# Kitaaba Qulqulluu, Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa, Loqoda Dhi’aa

Oromo, West Central: Kitaaba Qulqulluu, Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa, Loqoda Dhi’aa (Bible)

# Kitaaba Qulqulluu, Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa, Loqoda Dhi’aa
## Oromo, West Central: Kitaaba Qulqulluu, Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa, Loqoda Dhi’aa (Bible)

copyright © 2022 Biblica, Inc.

Language: Afaan Oromoo (Oromo, West Central)

Contributor: Biblica, Inc.

Biblica® Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa™, Loqoda Dhi’aa
Mirgi seeraan eegama © 2009, 2020, 2022 Biblica, Inc.
Biblica® Open New Oromo Contemporary Version™, Western
Copyright © 2009, 2020, 2022 by Biblica, Inc.
“Biblica” jechuun mallattoo eenyummaa kan Biblica, Inc., Waajjira Eeyyamaa fi Mallattoo Eenyummaa kan Ameerikaa keessaatti galmeessee dha.
“Biblica” is trademark registered in the United States Patent and Trademark Office by Biblica, Inc. Used with permission.

**Creative Commons License**

Hojiin kun Creative Commons Attribution-ShareAlike 4.0 International License (CC BY-SA) keessatti qopheeffamee dhi’aate. Garagalcha eeyyama kanaa arguudhaaf liinkii kana banadhaa creativecommons.org/.../ 4.0 yookaan gara teessoo kanaatti xalayaa ergadhaa. Creative Commons, PO Box 1866, Mountain View, CA 94042, USA.
Biblica® jechuun mallattoo eenyummaa kan Biblica, Inc., galmeeffatee dha; mallattoo eenyummaa Biblica® kanatti fayyadamuun immoo eeyyama Biblica, Inc., kan barreeffamaan kenname barbaachisa. Hamma mallattoo eenyumma Biblica, Inc., akkuma inni jirutti eegdetti, walii galtee eeyyama seeraa CC BY-SA jalatti, hojii kana utuu hin jijjiirin garagalchaan fudhattee yookaan waraabbattee deebitee raabsuu ni dandeessa. Yoo garagalchaa isaa jijjiirte yookaan hojii kana akka haaraatti hiiktee akkasiin hojii haaraa hojii Biblica® irratti hundaa’e tokko uummatte, mallattoo eenyummaa Biblica® achi irraa balleessuu qabda. Hojii haaraa hojii Biblica irratti hundooftee hiikte sana keessatti immoo waan hojii Biblica irraa jijjiirtee adda goote ibsitee akka itti aanee jiru kanatti abbaa jalqabatti waan kana uume himuu qabda: “Hojiin Biblica, Inc., jalqabatti hojjete kan hin jijjiiramin liinkii www.biblica.com fi https://open.bible keessatti argama.”
Beeksisni mirga abbaa maxxansee mataa duree irratti yookaan fuula mirga abbaa hojii kanaa irratti bifa asii gadi jiru kanaan mul’achuu qaba:
Biblica® Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa™, Loqoda Dhi’aa
Mirgi seeraan eegama © 2009, 2020, 2022 Biblica, Inc.
Biblica® Open New Oromo Contemporary Version™, Western
Copyright © 2009, 2020, 2022 by Biblica, Inc.
“Biblica” jechuun mallattoo eenyummaa kan Biblica, Inc., Waajjira Eeyyamaa fi Mallattoo Eenyummaa kan Ameerikaa keessaatti galmeessee dha.
“Biblica” is a trademark registered in the United States Patent and Trademark Office by Biblica, Inc. Used with permission.
Hojii haaraa hojii Biblica irratti hundooftee hiikte sanas akka inni eeyyama seeraa (CC BY-SA) jalatti argamu gochuu qabda.
Yoo akka hojii kana deebistee akka haaraatti hiikte Biblica, Inc., beeksisuu barbaadde, liinkii kanaan nu qunnami: https:// open.bible/contact-us.

---

This work is made available under the Creative Commons Attribution-ShareAlike 4.0 International License (CC BY-SA). To view a copy of this license, visit creativecommons.org/.../4.0 or send a letter to Creative Commons, PO Box 1866, Mountain View, CA 94042, USA.
Biblica® is a trademark registered by Biblica, Inc., and use of the Biblica® trademark requires the written permission of Biblica, Inc. Under the terms of the CC BY-SA license, you may copy and redistribute this unmodified work as long as you keep the Biblica® trademark intact. If you modify a copy or translate this work, thereby creating a derivative work, you must remove the Biblica® trademark. On the derivative work, you must indicate what changes you have made and attribute the work as follows: “The original work by Biblica, Inc. is available for free at www.biblica.com andopen.bible.”
Notice of copyright must appear on the title or copyright page of the work as follows:
Biblica® Hiikkaa Ammayyaa Banamaa Haaraa™, Loqoda Dhi’aa
Mirgi seeraan eegama © 2009, 2020, 2022 Biblica, Inc.
Biblica® Open New Oromo Contemporary Version™, Western
Copyright © 2009, 2020, 2022 by Biblica, Inc.
“Biblica” jechuun mallattoo eenyummaa kan Biblica, Inc., Waajjira Eeyyamaa fi Mallattoo Eenyummaa kan Ameerikaa keessaatti galmeessee dha.
“Biblica” is a trademark registered in the United States Patent and Trademark Office by Biblica, Inc. Used with permission.
You must also make your derivative work available under the same license (CC BY-SA).
If you would like to notify Biblica, Inc. regarding your translation of this work, please contact us at open.bible/contact-us.
This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

You include the above copyright and source information.
If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.
Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2023-04-13

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 23 Aug 2023 from source files dated 14 Apr 2023
9a7d95fd-7bcd-5e4d-ad23-4d7148b8e269

Contents

Uumama . . . 1
Ba’uu . . . 69
Lewwota . . . 124
Lakkoobsa . . . 161
Keessa Deebii . . . 219
Iyyaasuu . . . 264
Abbootii Murtii . . . 296
Ruut . . . 327
1 Saamu’eel . . . 332
2 Saamu’eel . . . 373
1 Moototа . . . 410
2 Moototа . . . 452
1 Seenaa . . . 493
2 Seenaa . . . 541
Izraa . . . 588
Nahimiyaa . . . 603
Asteer . . . 624
Iyyoob . . . 634
Faarfannaa . . . 684
Fakkeenya . . . 824
Lallaba . . . 876
Weedduu . . . 890
Isaayyaas . . . 899
Ermiyaas . . . 1004
Faaruu . . . 1098
Hisqi’eel . . . 1111
Daani’el . . . 1179
Hoose’aa . . . 1198
Yoo’eel . . . 1215
Amoos . . . 1222
Obaadiyaa . . . 1235
Yoonaas . . . 1237
Miikiyaas . . . 1240
Naahoom . . . 1250
Anbaaqoom . . . 1255
Sefaaniyaa . . . 1260
Haagee . . . 1266
Zakkaariyaas . . . 1269
Miilkiyaas . . . 1282
Maatewos . . . 1286
Maarqos . . . 1335
Luqaas . . . 1366
Yohannis . . . 1417
Hojii . . . 1453
Roomaa . . . 1500
1 Qorontos . . . 1520
2 Qorontos . . . 1539

Galaatiyaa . . . . . 1551
Efesoon . . . . . 1558
Fiiliphisiyuus . . . . . 1565
Qolosaayis . . . . . 1570
1 Tasaloniiqee . . . . . 1575
2 Tasaloniiqee . . . . . 1579
1 Xiimotewos . . . . . 1582
2 Xiimotewos . . . . . 1588
Tiitoo . . . . . 1592
Fiilmoonaa . . . . . 1595
Ibroota . . . . . 1597
Yaaqoob . . . . . 1612
1 Phexros . . . . . 1617
2 Phexros . . . . . 1623
1 Yohannis . . . . . 1627
2 Yohannis . . . . . 1632
3 Yohannis . . . . . 1633
Yihuudaa . . . . . 1634
Mul’ata . . . . . 1636

# Seera
# Uumamaa

*Jalqaba*

1 Jalqabatti Waaqni samiiwwanii fi lafa uume. 2 Lafti kan bifa hin qabnee fi duwwaa
turte; dukkannis tuujuba irra ture; Hafuurri Waaqaas bishaan irra sosocho'a ture.

3 Waaqnis, "Ifni haa ta'u" jedhe; ifnis ni ta'e. 4 Waaqnis akka ifni sun gaarii ta'e
arge; ifaa fi dukkanas gargar baase. 5 Waaqnis ifa sanaan "Guyyaa" jedhe; dukkana
sanaan immoo "Halkan" jedhee moggaase. Galgalas ta'e; ganamas ta'e; guyyaa
tokkoffaa.

6 Waaqnis, "Bishaanii fi bishaan gargar baasuuf bantiin bishaanota gidduu haa
jiraatu" jedhe. 7 Kanaafuu Waaqni bantii tolchee bishaan bantii jalaatii fi kan bantiin
olii gargar baase. Akkasumas ta'e. 8 Waaqnis bantii sana "samii" jedhee moggaase.
Galgalas ta'e; ganamas ta'e; guyyaa lammaffaa.

9 Waaqnis, "Bishaan samiidhaa gad jiru iddoo tokkotti walitti haa qabamu; lafti
gogaanis haa mul'atu" jedhe. Akkasumas ta'e. 10 Waaqni lafa gogaa sanaan "lafa"
jedhe; bishaanicha walitti qabameen immoo "galaana" jedhee moggaase. Waaqnis
wanni kun akka gaarii ta'e arge.
11 Ammas Waaqni, "Lafti biqiltuuwwan haa baastu; biqiltuuwwan akkuma gosa
gosa isaaniitti sanyii baasan, mukkeen ija kennanii iji isaanii immoo sanyii of keessaa
qabu adduma addaan akkuma gosa gosa isaaniitti lafa irratti haa argaman" jedhe.
Akkasumas ta'e. 12 Laftis biqiltuu akkuma gosa isaatti sanyii baasu, muka ija kennu,
kan iji isaas sanyii of keessaa qabu adduma addaan akkuma gosa isaatti baaste.
Waaqnis wanni kun akka gaarii ta'e arge. 13 Galgalas ta'e; ganamas ta'e; guyyaa
sadaffaa.

14 Waaqnis akkana jedhe; "Guyyaa fi halkan gargar baasuuf bantii samii irratti
ifawwan haa ta'an; isaanis mallattoowwan waqtiileen, guyyoonnii fi waggoonni ittiin
beekaman haa ta'an; 15 isaanis ifawwan bantii samii irraa kan lafaaf ifa kennan
haa ta'an." Akkasumas ta'e. 16 Waaqni ifa gurguddaa lama uume; kunis akka ifni
guddaan guyyaa, inni xinnaan immoo halkan mo'uuf. Akkasuma urjiiwwan illee
uume. 17 Waaqnis akka isaan lafaaf ifa kennaniif bantii samii irra isaan kaa'e; 18 kunis
akka isaan guyyaa fi halkan mo'anii fi akka ifa sana dukkana irraa gargar baasaniif.
Waaqnis wanni kun akka gaarii ta'e arge. 19 Galgalas ta'e; ganamas ta'e; guyyaa
afuraffaa.

20 Waaqnis, "Bishaan uumamawwan lubbu qabeeyyii munyuuqaniin haa guutamu;
simbirroonnis lafaa olitti, bantii samii keessa haa barrisan" jedhe. 21 Kanaafuu
Waaqni uumamawwan galaanaa gurguddaa, lubbu qabeeyyii munyuuqan kanneen
galaana keessa jiraatan hundaa fi simbirroota qoochoo qaban hunda akkuma gosa
isaaniitti uume. Waaqnis wanni kun akka gaarii ta'e arge. 22 Waaqnis, "Horaa;
baay'adhaa; bishaan galaanotaas guutaa; simbirroonnis lafa irratti haa baay'atan"
jedhee isaan eebbise. 23 Galgalas ta'e; ganamas ta'e; guyyaa shanaffaa.

24 Waaqnis, "Lafti akkuma gosa gosa isaaniitti uumamawwan lubbuu qabeeyyii
jechuunis horii, uumamawwan lafa irra mumunyuuqan, bineensota akkuma gosa

gosa isaaniitti haa kennitu” jedhe. Akkasumas ta’e. 25 Waaqni bineensota akkuma
gosa gosa isaaniitti, horii akkuma gosa gosa isaaniitti, uumamawwan lafa irra
mumunyuuqanis akkuma gosa gosa isaaniitti uume. Waaqni wanni kun akka gaarii
ta’e arge.

26 Waaqnis, “Kottaa akka bifa keenyaatti, akka fakkeenya keenyaattis nama
uumnaa; isaanis qurxummii galaanaa irratti, simbirroo samii irratti, horii irratti,
lafa hundumaa fi uumamawwan lafa irra munyuuqan hundumaa irratti aangoo haa
qabaatan” jedhe.

27 Kanaafuu Waaqni akka bifa isaatti nama uume;
akka bifa Waaqaatti isa uume;
innis dhiiraa fi dubartii taasisee isaan uume.

28 Waaqnis isaan eebbisee, “Horaa, baay’adhaas; lafa guutaatii harka keessan
jalattis bulfadhaa. Qurxummii galaanaa irratti, simbirroota samii irratti, uumama
lafa irra munyuuqu hunda irratti aangoo qabaadhaa” jedheen.

29 Ergasii Waaqni akkana jedhe; “Kunoo ani akka isaan nyaata isinii ta’aniif
biqiltuu lafa hunda irratti sanyii kennu hundaa fi muka iji isaa sanyii of keessaa
qabu gosa hunda isinii kenneera. 30 Anis bineensa lafaa hundaaf, simbirroota samii
hundaaf, uumama lafa irra munyuuqu hundaaf jechuunis waan hafuura jireenyaa of
keessaa qabu hundaaf akka nyaata isaanii ta’uuf biqiltuu lalisaa hunda nan kenna.”
Akkasumas ta’e.

31 Waaqnis waan hojjete hunda ilaale; wanni sunis dhugumaan gaarii ture. Galgalas
ta’e; ganamas ta’e; guyyaa ja’affaa.

# 2

1 Uumamni samiitii fi lafaa, kan waan isaan keessa jiru hundaas haala kanaan
xumurame.

2 Waaqni hojii hojjechaa ture hunda guyyaa torbaffaatti fixe; kanaafuu inni guyyaa
torbaffaatti hojii isaa hundumaa irraa boqote. 3 Waaqni sababii gaafa sana hojii
waa uumuu kan hojjechaa ture hunda irraa boqoteef guyyaa torbaffaa eebbisee
qulqulleesse.

### *Addaamii fi Hewaan*

4 Seenaan samiiwwaniitii fi lafaa kan yeroo isaan uumamanii, yeroo Waaqayyo
Waaqni lafaa fi samiiwwan uumee kanaa dha.

5 Sababii Waaqayyo Waaqni bokkaa hin roobsiniif, namni lafa qotus waan hin
jiraatiniif margi tokko iyyuu lafa irratti hin mul’anne; biqiltuunis lafa qotiisaa irratti
hin biqille ture. 6 Garuu bishaan lafa keessaa burqee lafa hunda obaasa ture.
7 Waaqayyo Waaqni biyyoo lafaa irraa nama tolche; hafuura jireenyaas funyaan
isaatti baafate; namnis uumama jiraataa ta’e.

8 Waaqayyo Waaqnis Eeden keessatti gama ba’a biiftuutti iddoo biqiltuu qopheesse;
nama tolche sanas achi keessa kaa’e. 9 Waaqayyo Waaqni mukkeen gosa hundaa lafa
keessaa biqilche; inni mukkeen ija namaatti tolanii fi nyaataafis gaarii ta’an biqilche.
Iddoo biqiltuu sana keessas muka jireenyaatii fi muka waan gaarii fi waan hamaa
nama beeksisutu ture.

10 Lagni iddoo biqiltuu sana obaasu tokkos Eeden keessaa burqa ture; lagni sun
Eedenii ka’ee gargar ba’ee laga afur ta’e. 11 Maqaan laga tokkoffaa Phiishoon; innis
guutummaa biyya Hawiilaa, iddoo warqeen jirutti naanna’ee yaa’a. 12 Warqeen biyya
sanaa gaarii dha; hapheen urgaa’uu fi sardooniksiin achitti argamu. 13 Maqaan isa
lammaffaa Giihooni; innis guutummaa lafa Itoophiyaatti naanna’ee yaa’a. 14 Maqaan

laga sadaffaa Xegroosi; innis karaa ba’a biiftuutiin Asoor cina yaa’a. Lagni afuraffaan
immoo Efraaxiis jedhama.
15 Waaqayyo Waaqni akka inni isa misoomsuu fi akka inni isa eeguuf jedhee
nama fuudhee Iddoo Biqiltuu Eeden keessa kaa’e. 16 Waaqayyo Waaqnis akkana
jedhee nama ajaje; “Muka iddoo biqiltuu kana keessa jiru hunda irraa nyaachuu ni
dandeessa; 17 garuu muka waan gaarii fi waan hamaa nama beeksisu sana irraa hin
nyaatin; gaafa isa irraa nyaatte dhugumaan ni duutaatii.”
18 Waaqayyo Waaqni, “Namni kophaa isaa ta’uun gaarii miti; gargaartuu isatti toltu
nan tolchaaf” jedhe.
19 Waaqayyo Waaqnis bineensaa fi simbirroota samii hundumaa lafa irraa tolche.
Maqaa inni isaaniif baasu ilaaluuf jedhees gara namichaatti isaan fide; wanni
namichi sun tokkoo tokkoo uumamawwan lubbu qabeeyyii ittiin waame kam iyyuu
maqaa ta’eef. 20 Namichi sunis horii qe’ee hundaaf, simbirroota samii hundaaf,
bineensa hundaaf maqaa baase.
Addaamiif garuu gargaartuun isatti toltu hin argamne. 21 Kanaafis Waaqayyo
Waaqni akka namichi hirribaan of wallaalu godhe; utuma inni rafaa jiruu lafee
cinaacha isaa keessaa tokko fuudhee iddoo sana fooniin duuche. 22 Waaqayyo
Waaqni lafee cinaachaa kan namicha keessaa fuudhe sana irraa dubartii tolchee gara
namichaatti geesse.
23 Namichis akkana jedhe;
“Egaa lafeen kun lafee lafee kootii ti;
foon kunis foon foon kootii ti;
isheen waan dhiira irraa argamteef
‘dubartii’ jedhamti.”
24 Kanaafuu namni abbaa fi haadha isaa ni dhiisa; niitii isaatti ni maxxana; isaanis
foon tokko ta’u.
25 Namichii fi niitiin isaa qullaa isaanii turan; garuu wal hin qaana’an ture.

# 3

*Kufaatii Namaa*

1 Bineensa Waaqayyo Waaqni uume hunda keessaa bofti haxxee ture. Dubartitti-
idhaanis, “Dhuguma Waaqni, ‘Muka iddoo biqiltuu keessa jiru kam irraa iyyuu hin
nyaatinaa’ isiniin jedheeraa?” jedhe.
2 Dubartittiinis deebiftee bofa sanaan akkana jette; “Ija mukkeen iddoo biqiltuu
keessa jiranii nyaachuu ni dandeenya; 3 garuu Waaqni, ‘Muka walakkaa iddoo
biqiltuu sanaa keessa jiru irraa ija hin nyaatinaa; ittis hin bu’inaa; yoo kanaa achii
ni duutuu’ jedheera.”
4 Bofichis deebisee dubartittiidhaan akkana jedhe; “Isin dhugumaan hin duutan.
5 Waaqni akka yommuu isin ija mukichaa nyaattan iji keessan banamu, akka isin
waan gaarii fi waan hamaa beekuudhaan akka Waaqaa taatan ni beekaatii.”
6 Dubartittiinis yommuu akka iji mukichaa nyaataaf gaarii, kan ija namaatti tolu,
ogummaa argachuufis akka nama gojomaasisu argitetti fudhattee nyaatte. Dhirsi
ishees ishee wajjin ture; isaafis ni laatte; innis ni nyaate. 7 Iji lachan isaaniis ni
baname; qullaa hafuu isaaniis beekan; kanaafis baala harbuu hodhanii marxoo
tolfatan.
8 Akkuma aduun qabbanoofteenis namichii fi niitiin isaa utuu Waaqayyo Waaqni
iddoo biqiltuu sana keessa deemuu sagalee isaa dhaga’an; isaanis mukkeen iddoo
biqiltuu keessa Waaqayyo Waaqa duraa dhokatan. 9 Waaqayyo Waaqni garuu
namicha waamee, “Ati eessa jirta?” jedheen.

10 Namichis deebisee, “Ani utuu ati iddoo biqiltuu keessa deemtuu nan dhaga’e;
waan qullaa koo tureefis nan sodaadhe; nan dhokadhes” jedheen.
11 Innis, “Eenyutu akka ati qullaa taate sitti hime? Muka ani ija isaa hin nyaatin
jedhee si ajaje sana irraa nyaatte moo?” jedheen.
12 Namichis, “Dubartittii ati akka isheen na wajjin jiraattuuf naa kennite sanatu ija
mukichaa irraa naa kenne; anis nan nyaadhe” jedhe.
13 WAAQAYYO Waaqnis dubartittiidhaan, “Wanni ati hojjette kun maali?” jedhe.

Dubartittiin immoo, “Bofti na gowwoomsinaanan nyaadhe” jette.
14 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni bofichaan akkana jedhe; “Ati sababii waan kana
gooteef,

“Horii hundumaa keessaa, bineensa hundumaa keessaas
kan abaaramte ni taata!
Bara jireenya keetii guutuu
garaa keetiin lafa irra loota;
biyyoo illee ni nyaatta.
15 Si’ii fi dubartittii, sanyii keetii fi
sanyii ishee gidduutti
diinummaa nan uuma;
inni mataa kee ni tuma;
atis koomee isaa ni iddita.”

16 Dubartittiidhaanis akkana jedhe;

“Yommuu ati mucaa deessutti ani dhiphina kee akka malee nan baay’isa;
ciniinsuudhaanis ijoollee ni deessa.
Fedhiin kee garuma dhirsa keetii ta’a;
innis sirratti ol aantummaa qabaata.”

17 Addaamiin immoo akkana jedhe; “Waan ati dubbii niitii keetii dhageessee muka
ani ija isaa irraa, ‘hin nyaatin’ jedhe irraa nyaatteef,

“Lafti sababii keetiif kan abaaramte taati;
atis bara jireenya keetii guutuu
dadhabbiidhaan ishee irraa nyaatta.
18 Isheen qoraattii fi sokorruu sitti biqilchiti;
atis biqiltuu lafaa ni nyaatta.
19 Ati waan lafa irraa argamteef,
hamma lafatti deebitutti
dafqa fuula keetiitiin buddeena nyaatta;
waan biyyoo taateefis,
gara biyyootti deebita.”

20 Addaamis sababii isheen haadha jiraatoo hundaa taateef niitii isaa “Hewaan”
jedhee moggaase.

21 WAAQAYYO Waaqni Addaamii fi Hewaaniif gogaa irraa uffata hojjetee isaanitti uff-
ise. 22 WAAQAYYO Waaqnis, “Kunoo namni waan gaarii fi waan hamaa beekuudhaan
nu keessaa akka isa tokkoo ta’eera. Ammas harka isaa hiixatee, ija muka jireenyaa
ciratee nyaachuun, bara baraanis jiraachuun isaaf eeyyamamuu hin qabu” jedhe.
23 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni lafa biqiltuu Eeden keessaa namicha baasee akka
inni lafuma irraa argame sana misoomsu godhe. 24 Erga nama achii baasee booddee
karaa muka jireenyaatti geessu eegsisuuf jedhee kiirubeelotaa fi goraadee boba’u kan
asii fi achi gaggaragalu tokko Iddoo Biqiltuu Eedeniitiin gama ba’a biiftuu kaa’e.

# 4

*Qaayinii fi Abeel*

1 Addaam niitii isaa Hewaan bira ga’e; isheenis ulfooftee Qaayinin deesse. Isheenis,
“Ani gargaarsa WAAQAYYOOTIIN ilma tokko argadheera” jette. 2 Itti aansitees
obboleessa isaa Abeelin deesse.
Abeel tiksee hoolotaa ture; Qaayin immoo lafa qota ture. 3 Yeroo muraasa keessatti
Qaayin waan lafti baafteef keessaa WAAQAYYOOF aarsaa dhi’eesse. 4 Abeel immoo
hangafoota hoolota isaa keessaa cooma cooma isaa dhi’eesse. WAAQAYYO faara
tolaadhaan gara Abeelii fi gara aarsaa inni dhi’eesse sanaa ilaale. 5 Gara Qaayinii
fi gara aarsaa isaa garuu hin ilaalle. Kanaafuu Qaayin akka malee aaree fuulli isaa
gurraacha’e.
6 WAAQAYYOS Qaayiniin akkana jedhe; “Ati maaliif aarte? Fuulli kees maaliif
gurraacha’e? 7 Utuu waan qajeelaa hojjettee silaa ati fudhatama argatta mitii? Garuu
yoo waan qajeelaa hojjechuu baatte cubbuun balbala kee duratti riphee si eeggata;
si qabachuu barbaadas; ati garuu isa mo’achuu qabda.”
8 Qaayinis ergasii obboleessa isaa Abeeliin, “Kottu mee dirreetti baanaa” jedhe.
Utuma dirree irra jiranuus Qaayin obboleessa isaa Abeelitti ka’ee isa ajjeese.
9 WAAQAYYOS, “Obboleessi kee Abeel eessa jira?” jedhee Qaayin gaafate.
Qaayin immoo, “Ani hin beeku; ani eegduu obboleessa kootiitii?” jedhee deebise.
10 WAAQAYYO akkana jedhe; “Ati maal goote? Dhiigni obboleessa keetii lafaa natti
iyyaa jira. 11 Ati amma abaaramaa dha; lafa dhiiga obboleessa keetii si harkaa
fudhachuuf afaan banatte irraas ni ari’amta. 12 Yeroo ati lafa qotattutti lafti deebitee
midhaan siif hin kennitu. Ati lafa irratti joortuu boqonnaa hin qabne taata.”
13 Qaayin immoo WAAQAYYOON akkana jedhe; “Adabamuun koo waan ani baachuu
danda’uun ol. 14 Kunoo ati har’a biyyaa na ari’aa jirta; anis fuula kee duraa nan
dhokadha; lafa irratti joortuu boqonnaa hin qabne nan ta’a; namni na argatu kam
iyyuus na ajjeesa.”
15 WAAQAYYO garuu, “Akkana miti; namni Qaayinin ajjeesu kam iyyuu dachaa torba
haaloo baafama” jedheen. WAAQAYYOS akka namni isa argatu tokko iyyuu isa hin
ajjeefneef Qaayinitti mallattoo godhe. 16 Ergasiis Qaayin fuula WAAQAYYOO duraa
ba’ee Eeden irraa karaa ba’a biiftuutiin biyya Noodi keessa jiraate.
17 Qaayin niitii isaa beeke; isheenis ulfooftee Henookin deesse. Qaayinis magaalaa
tokko hundeesse; magaalaa sanas Henook jedhee maqaa ilma isaatiin waame.
18 Henook Iiraadin dhalche; Iiraadi Me’eelin dhalche; Mehuuyaa’eel Matusaa’elin
dhalche; Matusaa’el immoo Laamehin dhalche.
19 Laameh dubartoota maqaan isaanii Aadaa fi Xiilaa jedhamu lamaan fuudhe.
20 Aadaan Yaabaalin deesse; Yaabaalis abbaa warra dunkaana keessa jiraatanii horii
horsiisanii ture. 21 Maqaan obboleessa isaa Yuubaal ture; inni immoo abbaa warra
kiraara rukutaniitii fi ulullee afuufanii ti. 22 Xiilaan immoo ilma Tuubaal Qaayin
jedhamu kan naasii fi sibiila tumee meeshaawwan garaa garaa hojjetu deesse;
obboleettiin Tuubaal Qaayinis Na’amaa turte.
23 Laameh niitota isaatiin akkana jedhe;
“Aadaa fi Xiilaan na dhaga’aa;
yaa niitota Laamehii dubbii koo dhaggeeffadhaa.
Nama tokko waan inni na madeesseef,
dargaggeessa tokko waan inni na miidheef ani isa ajjeeseera.
24 Yoo Qaayiniif dachaa torba haaloon baafame
Laamehiif immoo dachaa torbaatamii torba ni baafama.”
25 Addaam ammas niitii isaa beeke; isheenis ilma deesse; maqaa isaas, “Erga Qaayin
Abeelin ajjeesee as Waaqni iddoo Abeel daa’ima biraa naa kenneera” jettee “Seeti”
jettee moggaafte. 26 Seetiifis ilmi ni dhalate; innis Enoosh jedhee isa moggaase.
Bara sana namoonni maqaa WAAQAYYOO waammachuu jalqaban.

# 5

### *Addaamii Jalqabee Hamma Nohiitti*

1 Kun galmee sanyii Addaam.

Waaqni yeroo nama uumetti akka fakkeenya Waaqaatti isa tolche. 2 Innis dhiiraa
fi dubartii taasisee isaan uume; isaan eebbises. Yeroo uumamanis “Nama” jedhee
isaan waame.

3 Addaam waggaa 130 jiraate; innis akka fakkaattii isaatti, akka bifa isaattis ilma
dhalchee Seeti jedhee maqaa baaseef. 4 Addaam erga Seeti dhalatee booddee
waggaa 800 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa dhalche. 5 Walumatti Addaam
waggaa 930 jiraatee du’e.
6 Seeti waggaa 105 jiraatee Enooshin dhalche. 7 Erga Enooshin dhalchee booddees
Seeti waggaa 807 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa dhalche. 8 Walumatti
Seeti waggaa 912 jiraatee du’e.
9 Enoosh waggaa 90 jiraatee Qeenaanin dhalche. 10 Erga Qeenaanin dhalchee
booddees Enoosh waggaa 815 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
11 Walumatti Enoosh waggaa 905 jiraatee du’e.
12 Qeenaan waggaa 70 jiraatee Mahalaleelin dhalche. 13 Erga Mahalaleeliin
dhalchee booddee Qeenaan waggaa 840 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa
dhalche. 14 Walumatti Qeenaan waggaa 910 jiraatee du’e.
15 Mahalaleel waggaa 65 jiraatee Yaaredin dhalche. 16 Erga Yaaredin dhalchee
booddee Mahalaleel waggaa 830 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
17 Walumatti Mahalaleel waggaa 895 jiraatee du’e.
18 Yaared waggaa 162 jiraatee Henookin dhalche. 19 Erga Henookin dhalchee
booddee Yaared waggaa 800 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa qaba ture.
20 Walumatti Yaared waggaa 962 jiraatee du’e.
21 Henook waggaa 65 jiraatee Matuuselaa dhalche. 22 Henook erga Matuuselaa
dhalchee booddee waggaa 300 Waaqa wajjin deddeebi’e; innis ilmaanii fi intallan
biraa dhalche. 23 Walumatti Henook waggaa 365 jiraate. 24 Henook Waaqa wajjin
deddeebi’e; waan Waaqni isa fudhateef inni deebi’ee hin argamne.
25 Matuuselaan waggaa 187 jiraatee Laamehin dhalche. 26 Erga Laamehin dhalchee
booddee Matuuselaan waggaa 782 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
27 Walumatti Matuuselaan waggaa 969 jiraatee du’e.
28 Laameh waggaa 182 jiraatee ilma dhalche. 29 Innis, “Hojii nu lafa Waaqayyo
abaare kana irratti hojjennuu fi dadhabbii harka keenyaa kana keessatti nu
jajjabeessa” jechuudhaan maqaa isaa Nohi jedhee moggaase. 30 Laameh erga
Nohin dhalchee booddee waggaa 595 jiraate; innis ilmaanii fi intallan biraa
dhalche. 31 Walumatti Laameh 777 jiraatee du’e.
32 Nohi erga waggaa 500 jiraatee booddee Seem, Haamii fi Yaafetin dhalche.

# 6

### *Bishaan Badiisaa*

1 Yeroo namoonni biyya lafaa irratti baay’achuu jalqabanii intallan dhalataniifitti,
2 Ilmaan Waaqaa akka intallan namootaa babbareedoo ta’an argan; isaan keessaas
abbuma filatan fuudhan. 3 Yommus Waaqayyo, “Namni waan foon ta’eef Hafuurri
koo bara baraan isa keessa hin jiraatu; barri jireenya isaas waggaa dhibba tokkoo fi
digdama ta’a” jedhe.

4 Bara sanaa fi ergasiis Nefiiliimonni lafa irra turan; ilmaan Waaqaas yommuu gara
intallan namaa dhaqanitti ijoollee dhalchan. Isaanis gootota durii warra beekamoo
turan.
5 WAAQAYYOS akka jal’inni namaa lafa irratti baay’atee, wanni namni yeroo hunda
garaa isaatti yaadu hundinuus jal’aa qofa ta’e arge. 6 WAAQAYYOS waan lafa irratti
nama uumeef ni gaabbe; garaan isaas ni gadde. 7 Kanaafuu WAAQAYYO, “Ani sanyii
namaa kan ofii kootiin uume lafa irraa nan balleessa. Namaa fi horii, uumama
lafa irra munyuuqu, simbirroota samii nan balleessa; ani isaan uumuu kootti
gaabbeeraatii” jedhe. 8 Nohi garuu fuula WAAQAYYOO duratti surraa argate.
9 Seenaan Nohii fi maatii isaa kanaa dha.

Nohi namoota bara isaa turan gidduutti nama qajeelaa, nama hir’ina hin qabne kan
Waaqa wajjin deddeebi’u ture. 10 Nohi ilmaan sadii dhalche; isaanis: Seem, Haamii
fi Yaafet.
11 Lafti fuula Waaqaa duratti faalamtee jeequmsaan guutamte turte. 12 Sababii
namoonni lafa irraa hundinuu karaa isaanii faalaniif, Waaqni akka lafti faalamte
arge. 13 Kanaafuu Waaqni Nohiin akkana jedhe; “Waan lafti sababii isaaniitiin
jeequmsaan guutamteef, ani nama hunda nan balleessa; kunoo ani dhugumaan
lafaa fi isaan nan barbadeessa. 14 Ati muka Goofar irraa doonii tolfadhu; keessa
isaattis kutaa garaa garaa qopheessi; keessaa fi duuba isaas hapheedhaan duuchi.
15 Haalli ati ittiin doonicha tolchitu kanaa dha; dheerina isaa dhundhuma dhibbaa
sadii, bal’ina isaa dhundhuma shantama, ol dheerina isaa dhundhuma soddoma
godhi. 16 Doonichaaf bantii dhundhuma tokko ol ka’u hojjedhu; cinaacha isaa irrattis
balbala baasi; kanas abbaa darbii sadii jechuunis kan gadii, kan gidduutii fi kan
gubbaa godhii hojjedhu. 17 Kunoo, ani uumamawwan lubbu qabeeyyii hunda samii
jalaa balleessuuf bishaan badiisaa lafatti nan fida; wanni lafa irra jiraatu hundinuus
ni bada. 18 Si wajjin garuu kakuu nan gala; atis doonii seenta; atii fi ilmaan kee,
niitiin keetii fi niitonni ilmaan keetiis ni seentu. 19 Uumamawwan lubbu qabeeyyii
hundumaa keessaa akka isaan si wajjin jiraataniif lama lama, kormaa fi dhalaa
doonichatti galchi. 20 Simbirroota keessaa akkuma gosa gosa isaaniitti, horii keessaa
akkuma gosa gosa isaaniitti, uumamawwan lafa irra munyuuqan keessaas akkuma
gosa gosa isaaniitti, lama lama ta’anii jiraachuuf gara kee dhufu. 21 Waan nyaatamu
hunda keessaa waa fuudhii of biratti walitti qabi! Kunis nyaata keetii fi nyaata isaanii
ni ta’a.”
22 Nohi akkuma Waaqni isa ajajetti waan hunda hojjete.

# 7

1 WAAQAYYOS Nohiin akkana jedhe; “Ani akka ati dhaloota kana keessaa na duratti
qajeelaa taate argeeraatii maatii kee hundumaa wajjin doonicha seeni. 2 Bineensa
qulqulluu gosa hunda keessaa kormaa fi dhalaa cimdii torba, bineensa qulqulluu hin
ta’in gosa hunda keessaa cimdii tokko, 3 gosa simbirrootaa hunda keessaa illee akka
sanyiin lafa hunda irratti hafee jiraatuuf kormaa fi dhalaa cimdii torba fudhadhuu
seeni. 4 Ani guyyaa torba booddee halkan afurtamaa fi guyyaa afurtama bokkaa nan
roobsa; uumama jiraataa ani mataan koo uume hunda lafa irraa nan haxaa’a.”
5 Nohis waan WAAQAYYO isa ajaje hunda ni hojjete.
6 Yeroo bishaan badiisaa dhufetti Nohi nama waggaa dhibba ja’a ture. 7 Nohii
fi ilmaan isaa, niitii isaatii fi niitonni ilmaan isaa bishaan badiisaa jalaa ba’uuf
doonii seenan. 8 Bineensonni qulqulluu fi kan qulqulluu hin ta’in, simbirroonnii fi
uumamawwan lafa irra munyuuqan hundi, cimdii cimdiidhaan, 9 kormaa fi dhalaan
gara Nohi dhufanii akkuma Waaqni Nohiin ajajetti doonicha seenan. 10 Guyyaa torba
booddee bishaan badiisaa lola’ee lafa guute.

11 Bara jireenya Nohi waggaa dhibba ja'affaa keessa, ji'a lammaffaatti, ji'a sana
keessaas guyyaa kudha torbaffaatti burqaawwan tuujuba gurguddaa hundi ni
dho'an; foddaawwan bishaan samiis ni banaman. 12 Bokkaanis guyyaa afurtamaa
fi halkan afurtama lafatti roobe.
13 Guyyuma sana Nohii fi ilmaan isaa, Seem, Haamii fi Yaafet, niitii isaatii fi
niitota ilmaan isaa sadanii wajjin doonicha seenan. 14 Isaanis bineensota hunda,
akkuma gosa isaaniitti, horii hunda akkuma gosa isaaniitti, uumamawwan lafa irra
munyuuqan hundaa fi simbirroota hunda akkuma gosa isaaniitti, waan qoochoo
qabu hundas of faana fudhatanii seenan. 15 Uumamawwan hafuura jireenyaa of
keessaa qaban hundinuus cimdii cimdiidhaan gara Nohi dhufanii doonicha seenan.
16 Bineensonni akkuma Waaqni Nohin ajajetti dooniitti galan kormaa fi dhalaa
uumamawwan lubbu qabeeyyii hundaa turan; ergasii immoo WAAQAYYO alaan itti
cufe.
17 Bishaan badiisaas ittuma fufee guyyaa afurtamaaf lafa irra ture; bishaan sunis
dabalaa deemee doonii sana lafa irraa ol kaase. 18 Bishaanichis ol ka'ee lafa irratti
akka malee baay'ate; dooniin sunis bishaanicha irra deeme. 19 Bishaanichis akka
malee ol ka'aa deemee tulluuwwan samii jala jiran hunda haguuge. 20 Bishaanichi
dhundhuma kudha shan caalaa ol ka'uudhaan tulluuwwan dhokse. 21 Uumamawwan
lubbu qabeeyyiin lafa irra jiraatan hundi jechuunis, simbirroonni, horiin, bineen-
sonni, uumamawwan lafa irra munyuuqan hundii fi namoonni hundi ni barbadaa'an.
22 Wanni lafa gogaa irra jiraatu kan funyaan isaatiin hafuura jireenyaa baafatu
hundinuu ni du'e. 23 Uumamawwan lubbu qabeeyyiin lafa irra jiraatan hundinuu ni
haxaa'aman; namnii fi horiin, uumamawwan lafa irra munyuuqanii fi simbirroonni
samii, lafa irraa ni haxaa'aman. Nohii fi warra isa wajjin doonii keessa turan qofattu
hafe.
24 Bishaan sunis bultii dhibba tokkoo fi shantama lafa irra lola'e.

# 8

1 Waaqni garuu Nohin, bineensotaa fi horii isa wajjin doonii keessa turan
hunda yaadate. Innis bubbee lafatti erge; bishaanichis gad gale. 2 Burqaawwan
tuujubawwaniitii fi foddaawwan samiiwwanii ni cufaman; bokkaan samii keessaa
gad roobus ni caame. 3 Bishaan sunis suutuma suuta lafa irraa hir'achaa deemee
dhuma bultii dhibba tokkoo fi shantamaatti gad bu'e. 4 Dooniin sunis guyyaa kudha
torbaffaa ji'a torbaffaatti tulluu Araaraati gubbaa qubate. 5 Bishaanichi hamma ji'a
kurnaffaatti gaduma galaa deeme. Guyyaa jalqaba ji'a kurnaffaattis mataawwan
tulluuwwanii mul'atan.
6 Guyyaa afurtama booddee Nohi foddaa dooniitti baasee ture sana bane; 7 innis
arraagessa tokko gad dhiise; arraagessi sunis hamma bishaanichi lafa irraa gogutti
asii fi achi deddeebi'aa ture. 8 Ergasii immoo akka bishaanichi lafa irraa hir'ate
hubachuuf gugee tokko erge. 9 Garuu sababii bishaan lafa hunda irra guutee jiruuf
gugeen sun iddoo qubatu dhabdee gara Nohi dooniitti deebite. Innis harka isaa gad
hiixatee gugee sana gara dooniitti iddoo ofii jirutti ol galche. 10 Ammas guyyaa torba
turee gugee sana doonii keessaa gad baasee erge. 11 Gugeen sunis galgala yommuu
gara isaatti deebitetti kunoo, baala ejersaa kan amma kutame afaanitti qabattee turte.
Kanaanis Nohi akka bishaanichi gad hir'ate beeke. 12 Ammas guyyaa biraa torba
turee gugee sana deebisee erge; gugeen sun garuu lammata gara isaatti hin deebine.
13 Umurii Nohii waggaa dhibba ja'aa fi tokkoffaatti, guyyaa tokkoffaa ji'a
jalqabaatti, bishaanichi lafa irraa goge. Nohis qadaada doonii sanaa irraa fuudhee
ilaalee kunoo akka lafti gogde arge. 14 Guyyaa digdamii torbaffaa ji'a lammaffaatti
lafti guutummaan guutuutti gogde.

15 Waaqnis Nohiin akkana jedhe; 16 "Atii fi niitiin kee, ilmaan keetii fi niitonni
ilmaan keetii kottaa doonii keessaa ba'aa. 17 Akka isaan lafa irratti baay'ataniif,
akka isaan horanii lafa irratti baay'ataniif, gosa uumamawwan lubbu qabeeyyii si
wajjin jiran hunda jechuunis simbirroota, bineensotaa fi uumamawwan lafa irra
munyuuqan hunda gad baasi."
18 Kanaafuu Nohi ilmaan isaatii fi niitii isaa, niitota ilmaan isaa wajjin gad ba'e.
19 Bineensonni hundii fi uumamawwan lafa irra munyuuqan hundinuu, simbirroonni
hundi jechuunis wanni lafa irra jiraatu hundi gosuma gosaan doonii sana keessaa gad
ba'an.
20 Nohis WAAQAYYOOF iddoo aarsaa ijaare; horii fi simbirroota qulqulluu hunda
keessaa fuudhee iddoo aarsaa sana irratti aarsaa gubamu dhi'eesse. 21 WAAQAYYOS
foolii tolaa sana urgeeffatee garaa isaa keessatti akkana jedhe; "Yoo wanni namni
ijoollummaa isaatii jalqabee garaa isaatti yaadu hammina ta'e illee ani sababii
namaatiif jedhee lammata lafa hin abaaru. Ani akkan kanaan dura godhe sana
deebi'ee uumamawwan jiraatoo hunda hin balleessu.
22 "Hamma lafti jirtutti,
midhaan facaasuu fi walitti qabuun,
dhaamochii fi ho'i,
bonnii fi ganni,
halkanii fi guyyaan
gonkumaa hin hafan."

# 9

### *Kakuu Waaqni Nohi wajjin Gale*

1 Waaqni akkana jedhee Nohii fi ilmaan isaa eebbise; "Horaa, baay'adhaa,
lafas guutaa. 2 Sodaachisuu fi naasisuun keessan bineensota lafaa hundumaa
fi simbirroota samii hundumaa, uumamawwan lafa irra munyuuqan hundumaa
fi qurxummiiwwan galaanaa hundumaa irra haa bu'u; isaan harka keessanitti
kennamaniiru. 3 Wanni jiraatuu fi wanni munyuuqu hundi nyaata isiniif ni ta'a.
Ani akkuman biqila lalisaa isinii kenne sana ammas waan hunda isiniif nan kenna.
4 "Isin garuu foon lubbuu isaa wajjin jechuunis dhiiga isaa wajjin hin nyaatinaa.
5 Ani dhugumaan dhiiga keessan kan lubbuun keessan keessa jirtu nan barbaada.
Bineensa hunda irraa nan barbaada. Obboleessa nama hundaa irraas lubbuu namaa
nan barbaada.
6 "Nama dhiiga namaa dhangalaasu,
dhiigni isaa harka namaatiin dhangalaafama;
Waaqni bifa Waaqaatiin
nama uumeetii.
7 Isinis horaa, baay'adhaa; lafa guutaa, irrattis baay'adhaa."
8 Ergasii Waaqni Nohii fi ilmaan isaa warra isaa wajjin turaniin akkana jedhe;
9 "Kunoo ani isinii fi sanyii keessan warra isin booddee wajjin kakuu koo nan
hundeessa. 10 Akkasumas uumamawwan lubbu qabeeyyii isin wajjin turan hunda
jechuunis simbirroota, horii fi bineensota lafaa hunda, waan isin wajjin doonii
keessaa ba'e hunda, uumamawwan lafa irra jiraatan hunda wajjinis kakuu koo nan
hundeessa. 11 Akka si'achi wanni lubbuu qabu hundi deebi'ee bishaan badiisaatiin
hin badneef, si'achi bishaan badiisaa lafa balleessuuf gonkumaa akka hin dhufneef
ani isin wajjin kakuu koo nan hundeessa."
12 Waaqni akkana jedhe; "Mallattoon kakuu kan ani ofii kootii fi isin gidduutti,
uumamawwan lubbuu qabeeyyii isin bira jiran hunda gidduutti, dhaloota dhufuuf
jiru hundaaf galu kanaa dha. 13 Ani sabbata koo duumessa keessa dhaabeera; innis

kakuu anaa fi lafa gidduu jiruuf mallattoo ta'a. 14 Yeroo ani lafa irratti duumessa
fidee sabbanni koo duumessa keessaan mul'atutti, 15 ani kakuu koo kan ofii kootii
fi isin gidduu, uumamawwan lubbu qabeeyyii gosa hundaa gidduus jiru sana nan
yaadadha. Bishaanonnis deebi'anii lubbuu hunda balleessuuf gonkumaa bishaan
badiisaa hin ta'an. 16 Yeroo sabbanni koo duumessa keessaan mul'atutti, ani isa
ilaalee kakuu bara baraa kan Waaqaa fi uumamawwan lubbu qabeeyyii gosa hundaa
kanneen lafa irra jiraatan gidduu jiru sana nan yaadadha."

17 Kanaafuu Waaqni Nohiin, "Kun mallattoo kakuu ani ofii kootii fi lubbuu lafa irra
jiraatu hunda gidduu dhaabe sanaa ti" jedhe.

### *Ilmaan Nohi*

18 Ilmaan Nohi warri doonii keessaa ba'an Seem, Haamii fi Yaafet turan. Haam
abbaa Kana'aanii ti. 19 Ilmaan Nohi jara kana sadan turan; sanyiin namaa kan lafa
hunda irra bittinneeffames isaanuma irraa argame.

20 Nohi qonnaan bulaa ta'ee wayinii dhaabuutti nama jalqabaa ture. 21 Innis
daadhii wayinii sanaa dhugee machaa'e; qullaa isaas dunkaana isaa keessa ciise.
22 Haam abbaan Kana'aan qullaa abbaa isaa argee obboloota isaa lamaan ala turanitti
hime. 23 Seemii fi Yaafeti garuu wayyaa fuudhanii gatiittii isaanii lamaan irra
buufatanii dugda duubaan deemanii qullaa abbaa isaaniitti uffisan. Waan fuulli
isaanii achi garagalee tureef isaan qullaa abbaa isaanii hin argine.

24 Nohis yeroo machiin isaa irraa galetti waan ilmi isaa inni xinnaan isatti hojjete
beekee 25 akkana jedhe;

"Kana'aan abaaramaa haa ta'u!
Inni obboloota isaatiif
garba garbootaa haa ta'u."

26 Akkanas jedhe;

"WAAQAYYO Waaqni Seem haa eebbifamu!
Kana'aan immoo garbicha Seem haa ta'u.
27 Waaqni biyya Yaafet haa bal'isu;
Yaafet dunkaanota Seem keessa haa jiraatu;
Kana'aan immoo garbicha isaa haa ta'u."

28 Bishaan badiisaa booddee Nohi waggaa 350 jiraate. 29 Walumatti Nohi waggaa
950 jiraatee du'e.

## 10

### *Sanyii Ilmaan Nohi*

1 Seenaan ilmaan Nohi jechuunis kan Seem, kan Haamii fi kan Yaafet kana;
isaanis bishaan badiisaa booddee ilmaan dhalchan.

### *Sanyii Yaafeti*

*10:2-5 kwf – 1Sn 1:5-7*

2 Ilmaan Yaafet:
Goomer, Maagoog, Meedee, Yaawaan, Tuubaal, Meshekii fi Tiiraas turan.
3 Ilmaan Goomer:
Ashkenas, Riifaatii fi Toogarmaa turan.
4 Ilmaan Yaawaan:
Eliishaa, Tarshiish, Kitiimii fi Roodaanota turan. 5 Uummanni qarqara galaanaas
tokkoon tokkoon isaanii akkuma afaan isaaniittii fi akkuma saba isaaniitti gara
biyyoota isaaniitti bibittinnaa'an.

### *Sanyii Kaam*

*10:6-20 kwf – 1Sn 1:8-16*

6 Ilmaan Haam:

Kuushi, Misrayim, Fuuxii fi Kana’aan turan.
7 Ilmaan Kuushi:
Saabaa, Hawiilaa, Sabtaa, Ra’imaa fi Sabtekaa turan.
Ilmaan Ra’imaa:
Shebaa fi Dedaan turan.
8 Kuushi abbaa Naamruud; Naamruudis lafa irratti loltuu jabaa ta’e.
9 Innis fuula WAAQAYYOO duratti adamsaa jabaa ture; kanaafuu, “Fuula
WAAQAYYOO duratti adamsaa jabaa akka Naamruudi” jedhame. 10 Jalqabni
mootummaa isaa Shine’aar keessatti Baabilon, Ereki, Akaadii fi Kaalnee
ture. 11 Innis biyya sanaa ba’ee Asoor dhaqe; achittis Nanawwee,
Rehoobootii fi Kaalahi ijaare; 12 akkasumas Resen ishee Nanawwee fi
Kaalah gidduutti argamtu ni ijaare; Resen kunis magaalaa guddoo dha.
13 Misrayim immoo abbaa
Luudiimootaa, Anaamiimotaa, Lehaabiimotaa, Naftahiimootaa, 14 Fatrusiimotaa,
Kaseluhiimotaa, jechuunis warra Filisxeemonni irraa dhalatanii fi Kaftooriimotaa ti.
15 Kana’aan abbaa Siidoon
ilma isaa hangaftichaa, akkasumas kan Heetotaa, 16 Yebuusotaa, Amoorotaa, Gir-
gaashotaa, 17 Hiiwotaa, Arkaawotaa, Siinotaa, 18 Arwaadewotaa, Zemaarotaatii
fi Hamaatotaa ture.
Ergasii gosoonni Kana’aan ni bibittinnaa’an; 19 daariin Kana’aanis Siidoonii
ka’ee karaa Geraaraatiin hamma Gaazaatti bal’ate; karaa Sodoom, Gomoraa,
Adimaatii fi Zeboo’iimiitiinis hamma Leshaatti bal’ate.
20 Ilmaan Haam akkuma gosaa fi afaan isaaniitti, akkuma biyyaa fi saba isaaniitti kanneenii dha.

*Sanyii Seem*

*10:21-31 kwi – Uma 11:10-27; 1Sn 1:17-27*

21 Seemiifis ilmaan ni dhalatan; obboleessi Seem hangafti Yaafet ture; Seemis abbaa ilmaan Eeber hundaa ture.
22 Ilmaan Seem
Eelaam, Ashuur, Arfaakshad, Luudii fi Arraam turan.
23 Ilmaan Arraam
Uuzi, Huuli, Geterii fi Meshek turan.
24 Arfaakshad Sheelaa dhalche;
Sheelaan immoo Eeberin dhalche.
25 Eeberiifis ilmaan lamatu dhalate; sababii bara isaa keessa lafti gargar qoodamteef
maqaan isa tokkoo Felegi jedhamee moggaafame; maqaan obboleessa isaa immoo Yooqxaan jedhamee moggaafame.
26 Yooqxaan immoo
Almoodaad, Sheleef, Hazarmaawet, Yaaraa, 27 Hadooraam, Uuzaal, Diqlaa,
28 Oobaal, Abiimaa’eel, Shebaa, 29 Oofiir, Hawiilaa fi Yoobaabin dhalche. Warri
kunneen hundinuu ilmaan Yooqxaanii ti.
30 Lafti jireenya isaanii Meeshaa ka’ee karaa Sefaariitiin hamma gaarran ba’a biiftuutti bal’ata.
31 Ilmaan Seemi akkuma gosaa fi afaan isaaniitti, akkuma biyyaa fi saba isaaniitti kanneenii dha.

32 Warri kun gosoota ilmaan Nohi kanneen akkuma dhaloota isaaniitti saba isaanii keessa jiranii dha; bishaan badiisaatiin booddee saboonni warruma kana irraa lafa irra faffaca’an.

# 11

*Gamoo Baabel*
1 Bara sana addunyaan guutuun afaan tokkoo fi haasaa tokko qaba ture.
2 Namoonni akkuma gara ba'a biiftuutti godaananiin, Shine'aar keessatti lafa diriiraa
argatanii achi qubatan.
3 Isaanis, "Kottaa mee xuubii hojjennee ibiddaan gubnaa" waliin jedhan. Isaanis
qooda dhagaa, xuubiitti fayyadaman; hapheedhaaf immoo leeleetti fayyadaman.
4 Ergasii, "Kottaa mee akka ofii keenyaa maqaa argannuu fi akka addunyaa guutuu
irra hin bibittinnoofneef magaalaa gamoon isaa samii qaqqabu tokko ijaarrannaa"
jedhan.
5 Waaqayyo garuu magaalaa fi gamoo isaan ijaaraa turan sana ilaaluuf gad bu'e.
6 Waaqayyos akkana jedhe; "Erga isaan akka saba tokko kan afaanuma tokko
dubbatuutti waan kana hojjechuu jalqabanii, yoos amma wanni isaan hojjechuuf
karoorfatan kan isaaniif hin danda'amne tokko iyyuu hin jiraatu. 7 Kottaa mee gad
buunee, akka isaan wal hin hubanneef afaan isaanii waliin dhoofnaa!"
8 Kanaafuu Waaqayyo achii isaan baasee lafa hunda irra isaan bittinneesse; isaanis
magaalaa ijaaruu dhiisan. 9 Waan Waaqayyo achitti afaan addunyaa hunda waliin
makeef iddoon sun Baabilon jedhame; Waaqayyo iddoo sanaa isaan baasee lafa
hunda irra isaan bittinneesse.

*Seemii Jalqabee Hamma Abraamitti*
*11:10-27 kwf – Uma 10:21-31; 1Sn 1:17-27*
10 Seenaan maatii Seem kana.

Bishaan badiisaa booddee waggaa lamatti Seem yeroo umuriin isaa waggaa 100
guutetti Arfaakshadin dhalche. 11 Seem erga Arfaakshadin dhalchee booddee
waggaa 500 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
12 Arfaakshad waggaa 35 jiraatee Sheelaa dhalche. 13 Arfaakshad erga Sheelaa
dhalchee booddee waggaa 403 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
14 Sheelaan waggaa 30 jiraatee Eeberin dhalche. 15 Sheelaan erga Eeberin dhalchee
booddee waggaa 403 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
16 Eeber waggaa 34 jiraatee Felegin dhalche. 17 Eeber erga Felegin dhalchee booddee
waggaa 430 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
18 Felegi waggaa 30 jiraatee Re'uu dhalche. 19 Felegi erga Re'uu dhalchee booddee
waggaa 209 jiraatee ilmaanii fi intallan biraas dhalche.
20 Re'uun waggaa 32 jiraatee Seruugin dhalche. 21 Re'uun erga Seruugin dhalchee
booddee waggaa 207 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
22 Seruugi waggaa 30 jiraatee Naahoorin dhalche. 23 Seruugi erga Naahoorin
dhalchee booddee waggaa 200 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
24 Naahoor waggaa 29 jiraatee Taaraa dhalche. 25 Naahoor erga Taaraa dhalchee
booddee waggaa 119 jiraatee ilmaanii fi intallan biraa dhalche.
26 Taaraan waggaa 70 jiraatee Abraam, Naahoorii fi Haaraanin dhalche.

*Maatii Abraam*
27 Seenaan maatii Taaraa kana.

Taaraan Abraam, Naahoorii fi Haaraanin dhalche. Haaraan immoo Looxin dhalche.
28 Haaraan utuma abbaan isaa Taaraan jiruu Uuri biyya Kaldootaa keessatti lafuma
itti dhalatetti du'e. 29 Abraamii fi Naahoor niitii fuudhan. Maqaan niitii Abraam
Saaraa, maqaan niitii Naahoor immoo Miilkaa ture. Miilkaan intala Haaraan.
Haaraan kun immoo abbaa Miikaatii fi Yiskaa ture. 30 Saaraan dhabduu turte;
ijoollees hin deenye.

31 Taaraan ilma isaa Abraamin, ilma ilma isaa jechuunis Loox ilma Haaraanii fi
niitii ilma isaa jechuunis Saaraa niitii Abraam fudhatee Kana'aan dhaquuf, Uuri biyya
Kaldootaatii walii wajjin ba'an; garuu yeroo Kaaraan ga'anitti achuma qubatan.
32 Taaraan waggaa 205 jiraatee Kaaraanitti du'e.

# 12

*Waamamuu Abraam*

1 WAAQAYYO Abraamiin akkana jedhe; "Biyya kee, saba keetii fi mana abbaa keetii
dhiisiitii gara biyya ani si argisiisuu dhaqi.

2 "Ani saba guddaa sin taasisa;
sin eebbisas;
maqaa kee illee guddaa nan taasisa;
atis eebba taataa.
3 Ani warra si eebbisan nan eebbisa;
warra si abaaran nan abaara;
sabni lafa irraa hundinuu
karaa keetiin eebbifama."

4 Kanaafuu Abraam akkuma WAAQAYYO isatti himetti ka'ee deeme; Looxis isa wajjin
deeme. Abraam yeroo Kaaraanii ba'etti nama waggaa torbaatamii shan ture. 5 Innis
niitii isaa Saaraa, ilma obboleessa isaa Loox, qabeenya walitti kuufatan hundumaa
fi namoota Kaaraanitti argatan hundumaa qabatee Kana'aan dhaquuf ka'e; isaanis
achi ga'an.

6 Abraamis hamma qilxuu Mooree kan Sheekem keessatti argamuutti biyyattii
keessa deeme. Yeroo sana warri Kana'aan biyya sana keessa turan. 7 WAAQAYYO
Abraamitti mul'atee, "Ani biyya kana sanyii keetiif nan kenna" jedheen. Kanaafuu
inni achitti WAAQAYYO isatti mul'ate sanaaf iddoo aarsaa ijaare.

8 Achii ka'ee gara gaarran Beet'eel irraa gara ba'a biiftuutti argamanii deemee
Beet'eelin gara lixa biiftuutti, Aayin immoo gara ba'a biiftuutti hambisee dunkaana
isaa dhaabbate. Achitti WAAQAYYOOF iddoo aarsaa ijaaree maqaa WAAQAYYOO
waammate.

9 Abraam ergasii ka'ee gara Negeebitti karaa isaa itti fufe.

*Abraam Biyya Gibxi Keessatti*
*12:10-20 kwi – Uma 20:1-18; 26:1-11*

10 Bara sana beelli biyya sanatti bu'ee ture; beelli sun waan hammaateef Abraam
achi jiraachuuf jedhee Gibxitti gad bu'e. 11 Innis yeroo Gibxi seenuu ga'etti niitii isaa
Saaraan akkana jedhe; "Ani akka ati dubartii bareedduu taate nan beeka. 12 Warri
Gibxi yommuu si argan, 'Kun niitii isaa ti' jedhanii na ajjeesu; si'i immoo ni hambisu.
13 Akka isaan siif jedhanii haala tolaan na ilaalanii fi akka lubbuun koos sababii
keetiin du'a ooltuuf maaloo, 'Ani obboleettii isaa ti' jedhi."

14 Yeroo Abraam Gibxi seenettis warri Gibxi akka Sooraan dubartii baay'ee
bareedduu taate argan. 15 Qondaaltonni Fara'ooniis yommuu ishee arganitti ishee
jajanii Fara'oonitti himan; isheenis masaraa mootummaa Fara'ooniitti geeffamte.
16 Fara'oon sababii isheetiif jedhee Abraamin haala tolaadhaan ilaale; Abraamis
hoolotaa fi loon, harroota korommii fi dhaltuu, tajaajiltoota dhiiraa dubartii, gaalas
argate.

17 WAAQAYYO garuu sababii niitii Abraam, sababii Saaraatiif jedhee Fara'oonii fi
warra mana isaa jiraatan dhukkuba hamaan dha'e. 18 Kanaafuu Fara'oon Abraamin
ofitti waamee akkana jedheen; "Ati maal natti hojjette? Akka isheen niitii kee taate
maaliif natti hin himin? 19 Ati maaliif, 'Isheen obboleettii koo ti' jettee, akka ani
niitummaaf ishee fudhadhu na goote? Ammas niitiin kee kunoo ti; ishee fudhadhuu

deemi!” 20 Fara’oonis waa’ee Abraam irratti namoota isaa ajaje; isaanis Abraamii fi
niitii isaa, waan inni qabu hunda wajjin geggeessan.

# 13

*Abraamii fi Loox Gargar Ba’uu Isaanii*

1 Abraam niitii isaatii fi waan qabu hunda wajjin Gibxii ka’ee Negeebitti ol ba’e;
Looxis isa wajjin deeme. 2 Abraamis horiin, meetii fi warqeedhaan akka malee
soorome.
3 Innis Negeebii ka’ee hamma Beet’eel, iddoo Beet’eelii fi Aayi gidduu, lafa
dunkaanni isaa jalqabatti ture sana ga’utti iddoo tokkoo gara iddoo biraatti deemsa
isaa itti fufe; 4 iddoon sunis lafa inni yeroo jalqabaatiif iddoo aarsaa itti ijaaree dha.
Abraamis achitti maqaa WAAQAYYOO waammate.
5 Loox namichi Abraam wajjin deemaa ture suni akkasuma bushaayee, saawwanii
fi dunkaanota qaba ture. 6 Yeroo isaan walii wajjin jiraatanitti lafti isaanitti
dhiphatte; sababii qabeenyi isaanii akka malee guddateefis isaan wal bira jiraachuu
hin dandeenye. 7 Kanaafuu tiksoota Abraamii fi tiksoota Loox gidduutti lolli uumame.
Yeroo sanatti Kana’aanonnii fi Feerzonnis biyya sana keessa jiraachaa turan.
8 Abraamis Looxiin akkana jedhe; “Nu waan obboloota taaneef, si’ii fi ana gidduu
yookaan tiksoota keetii fi tiksoota koo gidduu lolli hin jiraatin. 9 Lafti hundi fuula
kee dura jirti mitii? Kottu gargari godaannaa. Yoo ati gara bitaatti deemte, ani gara
mirgaatti nan deema; yoo ati gara mirgaatti deemte immoo ani gara bitaatti nan
deema.”
10 Looxis ol jedhee ilaalee akka hurufni Yordaanos hundi akkuma iddoo biqiltuu
WAAQAYYOO akkuma biyya Gibxi kan karaa Zo’aar irra jiru sanaa bishaan baay’ee
qabu arge. Kunis utuu WAAQAYYO Sodoomii fi Gomoraa hin balleessiniin dura
ture. 11 Kanaafuu Loox hurufa Yordaanos guutummaatti ofii isaatii filatee gara
ba’a biiftuutti godaane. Jarri lamaanis akkasitti gargari ba’an. 12 Abraam biyya
Kana’aan keessa jiraate; Loox immoo magaalaawwan dirree irra jiran gidduu jiraatee
dunkaana isaa Sodoom bira dhaabbate. 13 Warri Sodoom jal’oota fuula WAAQAYYOO
duratti akka malee cubbuu hojjetan turan.
14 Erga Loox isa biraa godaanee booddee WAAQAYYO Abraamiin akkana jedhe;
“Iddoo amma jirtu kanaa ija kee ol fudhadhuutii gara kaabaa fi kibbaa, gara ba’a
biiftuutii fi lixa biiftuu ilaali. 15 Anis biyya ati argitu kana hunda bara baraan si’ii
fi sanyii keetiif nan kenna. 16 Ani sanyii kee akkuma biyyoo lafaa nan baay’isa; yoo
namni biyyoo lafaa lakkaa’uu danda’e, sanyiin kee akkasuma lakkaa’amuu danda’a.
17 Ka’iitii dheerinaa fi bal’ina lafa kanaa keessa dedeemi; ani isa siifin kennaatii.”
18 Kanaafuu Abraam dunkaana isaa buqqifatee qilxuuwwan Mamree kanneen
Kebroonitti argaman bira jiraachuu dhaqe; achittis iddoo aarsaa WAAQAYYOOF tolche.

# 14

*Looxi Harka Diinaatii Baafame*

1 Bara sana keessa Amraafel mootiin Shine’aar, Ariyook mootiin Elaasaar, Kedoor-
laa’omer mootiin Eelaamii fi Tidi’aal mootiin Sabootaa ka’anii, 2 Beraa mooticha
Sodoom, Birishaa mooticha Gomoraa, Shinaab mooticha Adimaa, Shemeeber
mooticha Zeboo’iimii fi mooticha Belaa ishee Zo’aar jedhamtu sanaa loluu dhaqan.
3 Mootonni shanan kunneen hundi sulula Siidiim isa Galaana Soogiddaa jedhamu
keessatti wal ga’anii humna tokkummaa uummatan. 4 Isaanis waggaa kudha shan
Kedoorlaa’omer jalatti bulan; waggaa kudha sadaffaatti garuu ni fincilan.
5 Waggaa kudha afuraffaatti Kedoorlaa’omerii fi mootonni isa wajjin turan ba’anii
warra Refaayiim Ashteroot Qaarnaayimiitti, warra Zuuziim Haamitti, warra Eemiim

Shaawii Kiriyaataayimiitti, [6] warra Hoori immoo lafa gaara See'iiriitii jalqabanii
hamma Eel Phaaraan kan gammoojjiitti dhi'oo jiru sanaatti mo'atan. [7] Ergasii of
irra deebi'anii Een Mishiphaati jechuunis Qaadesh dhaqanii biyya warra Amaaleq
hundaa fi warra Amoor kanneen Hazezoon Taamaar keessa jiraatan humnaan
qabatan.

[8] Mootichi Sodoom, mootichi Gomoraa, mootichi Adimaa, mootichi Zeboo'iimii
fi mootichi Belaa jechuunis Zo'aar ba'anii Sulula Siidiim keessatti loluuf hiriiran.
[9] Isaanis Kedoorlaa'omer mootii Eelaam, Tidi'aal mootii Sabootaa, Amraafel mootii
Shine'aariitii fi Ariyook mootii Elaasaar lolan; mootonni afran kunneen mootota
shananiin morman. [10] Sululli Siidiim boolla leeleetiin guutamee ture; mootonni
Sodoomii fi mootonni Gomoraas baqatanii namoonni tokko tokko boolla sana keessa
bu'an; warri hafan immoo gara gaarraniitti baqatan. [11] Mootonni afran sun mi'aa
fi nyaata warra Sodoomii fi Gomoraa hunda saamanii sokkan. [12] Waan Loox
ilmi obboleessa Abraam Sodoom keessa jiraachaa tureef mootonni sun isa illee
qabeenyuma isaa wajjin booji'anii deeman.

[13] Namichi baqatee ba'e tokko dhufee oduu kana Abraam Ibrichatti hime. Abraamis
qilxuuwwan Mamree kan namicha Amoorii sana bira jiraachaa ture; Mamreen
kun obboleessa Eshkoolii fi Aaneer ture; isaan Abraam wajjin kakuu galanii turan.
[14] Abraam akka firri isaa booji'ame dhageenyaan namoota mana isaatti dhalatanii
leenjifaman 318 walitti waammatee hidhachiisee hamma Daaniitti faana bu'e.
[15] Abraamis isaan loluuf jedhee halkaniin namoota isaa gargari qoode; hamma
Hoobaa ishee kaaba Damaasqootti argamtu sanaattis faana bu'ee isaan dha'e. [16] Innis
mi'a hunda deebifate; fira ofii isaa Looxii fi qabeenya isaa, dubartootaa fi namoota
kaanis deebifate.

[17] Abraam Kedoorlaa'omeri fi mootota isa wajjin turan mo'atee deebinaan mootiin
Sodoom Sulula Shaawii kan Sulula Mootii jedhamu keessatti isa simachuu ba'e.

[18] Malkiiseedeq mootiin Saaleemis buddeenaa fi daadhii wayinii fideef; innis luba
Waaqayyo Waaqa Waan Hundaa Olii ture; [19] innis akkana jedhee Abraamin eebbise;
"Abraam, Waaqayyo Waaqa Waan Hundaa Olii,
isa samii fi lafa uume sanaan haa eebbifamu.
[20] Waaqayyo Waaqni Waan Hundaa Olii,
inni diinota kee dabarsee harka keetti kenne sun haa eebbifamu."
Ergasii Abraam waan hunda irraa kudhan keessaa tokko isaaf kenne.

[21] Mootiin Sodoomis Abraamiin, "Namoota naa kenniitii qabeenya immoo ofii keetii
fudhadhu" jedhe.

[22] Abraam garuu mootii Sodoomiitiin akkana jedhe; "Ani harka koo gara WAAQAYYO,
Waaqa Waan Hundaa Olii, Uumaa samiitii fi lafaatti ol fudhadhee kakadheen jira;
[23] akka ati, 'Anatu Abraamin sooromse' hin jenneef ani waan kan kee ta'e keessaa
tokko iyyuu, fo'aa yookaan teepha ittiin kophee hidhatan iyyuu hin fudhadhu.
[24] Waan namoonni koo nyaatanii fi qooda namoota ana wajjin deemanii jechuunis
qooda Aaneer, kan Eshkooliitii fi kan Mamree malee ani ofii koo homaa hin fudhadhu;
isaan qooda isaanii haa fudhatan."

# 15

*Kakuu Waaqni Abraam Wajjin Gale*

[1] Kana booddee dubbiin WAAQAYYOO mul'ataan gara Abraam dhufee akkana jedhe;
"Yaa Abraam hin sodaatin;
ani gaachana keetii fi
gatii kee guddicha."

2 Abraam garuu, “Yaa WAAQAYYO Gooftaa, waan ani ijoollee hin qabneef namni
qabeenya koo dhaaluuf jiru Elii’ezer namicha Damaasqoo kana; egaa ati maal naa
kennita?” jedhe. 3 Abraam, “Kunoo ati ijoollee tokko illee naa hin kennine; hojjetaan
mana koo jiraatu tokko kunoo na dhaaluuf jira” jedhe.

4 Kunoo dubbiin WAAQAYYOO gara isaa dhufee, “Ilma gudeeda keetiitu dhaaltuu
kee ta’a malee namichi kun dhaaltuu kee hin ta’u” jedhe. 5 Innis Abraamin gad
baasee, “Samiiwwan ol ilaaliitii yoo urjiiwwan lakkaa’uu dandeesse lakkaa’i” jedhe.
Itti fufees, “Sanyiin kees akkanuma baay’ata” jedheen.

6 Abraam WAAQAYYOTTI amane; innis qajeelummaatti lakkaa’eef.

7 Innis, “Ani WAAQAYYO isa akka ati ishee dhaaltuuf biyya kana siif kennuuf jedhee
Uuri biyya Kaldootaa keessaa si baasee dha” jedheen.

8 Abraam garuu, “Yaa WAAQAYYOO Gooftaa, ani biyya kana dhaaluu koo akkamittin
beeka?” jedhe.

9 Kanaafuu WAAQAYYO, “Goromsa tokko, re’ee tokkoo fi korbeessa hoolaa tokko
kanneen tokkoon tokkoon isaanii waggaa sadii sadii guutan, akkasumas gugee tokkoo
fi gugee sookkee tokko naa fidi” jedheen.

10 Abraamis warra kana hunda gara isaatti fidee, qixxee lamaanitti kukkute; warra
qixxee lamaanitti kukkutamanis gamaa gamana kaa’e; simbirroota garuu qixxee
lamaanitti hin kukkunne. 11 Ergasii allaattiin foon sanatti gad buute; Abraam garuu
irraa ari’e.

12 Utuma aduun dhi’aa jirtuu hirribni guddaan Abraamin qabe; kunoo dukkanni
guddaanii fi sodaachisaan isa irra bu’e. 13 WAAQAYYOS akkana isaan jedhe; “Akka
sanyiin kee biyya kan isaa hin ta’in keessatti alagaa ta’ee waggaa dhibba afuris
achitti garboomfamee cunqurfamu dhugumaan beeki. 14 Ani garuu saba isaan
akkuma garbootaatti tajaajilan sana nan adaba; ergasii immoo isaan qabeenya
guddaa fudhatanii achii ba’u. 15 Ati garuu nagaan gara abbootii keetii dhaqxa;
bara dheeraas jiraattee awwaalamta. 16 Sanyiin kee dhaloota afuraffaatti as deebi’a;
cubbuun Amoorotaa amma iyyuu hin guunneetii.”

17 Yommuu aduun lixxee dukkanaa’ettis kunoo barbadaan ibiddaa aaru guca tokko
wajjin mul’atee foon kukkutame sana gidduu darbe. 18 Gaafa sanas WAAQAYYO
akkana jedhee Abraam wajjin kakuu gale; “Ani biyya laga Gibxii jalqabee hamma
laga Efraaxiis guddichaatti jiru kana sanyii keetiif nan kenna; 19 kunis biyya
Qeenotaa, Qeneezotaa, Qadmoonotaas, 20 kan Heetotaa, Feerzotaa, Refaayimootaa,
21 Amoorotaa, Kana’aanotaa Girgaashotaatii fi kan Yebuusotaa jechuu dha.”

# 16

*Aggaarii fi Ishmaa’eel*

1 Saaraan niitiin Abraam ijoollee isaaf hin deenye turte. Garuu isheen garbittii
Aggaar jedhamtu tokko qabdi turte; Aggaaris nama biyya Gibxi turte; 2 Saaraanis
Abraamiin, “Kunoo WAAQAYYO ijoollee na dhowwateera. Dhaqiitii garbittii koo wajjin
ciisi; tarii ani karaa isheetiin ijoollee nan argadhan ta’aatii” jette.

Abraamis waan Sooraan jette fudhate. 3 Erga Abraam waggaa kudhan Kana’aan
keessa jiraatee booddee niitiin isaa Saaraan garbittii ishee Aggaar kan nama biyya
Gibxi turte sana fuutee akka isheen niitii isaa taatuuf dhirsa isheetiif kennite.
4 Abraamis Aggaar wajjin ciise; isheenis ni ulfoofte.

Yommuu akka ulfoofte of irratti beektetti giiftii ishee tuffachuu jalqabde. 5 Saaraan
immoo Abraamiin, “Miidhaa na mudate kanatti situ gaafatama. Garbittii koo anattu
bobaa kee jala siif galche; amma garuu isheen akka ulfoofte of irratti beeknaan na
tuffatte. Egaa WAAQAYYO sii fi ana gidduutti murtii haa kennu” jette.

6 Abraamis, “Garbittiin kee keessa harkuma kee jirti; waanuma feete ishee godhi”
jedheen. Saaraanis akka malee ishee cunqursite; kanaafuu Aggaar fuula ishee duraa
sokkite.
7 Ergamaan WAAQAYYOO gammoojjii keessatti, burqaa bishaanii tokko biratti
Aggaarin arge; burqaan bishaanii sunis karaa Shuuritti geessu irra ture. 8 Ergamaan
sunis, “Yaa Aggaar, garbittii Saaraa, ati eessaa dhufte? Eessa dhaquutti jirta?” jedhe.
Isheenis, “Giiftii koo Saaraa baqachuuttin jira” jetteen.
9 Kana irratti ergamaan WAAQAYYOO sun, “Gara giiftii keetiitti deebiʼi; gad of qabiitii
isheef buli” jedheen. 10 Ergamaan Waaqayyoo sunis itti dabalee, “Ani sanyii kee
akka malee nan baayʼisa; sababii baayʼina isaatiifis namni tokko iyyuu lakkaaʼuu hin
dandaʼu” jedhe.
11 Ergamaan WAAQAYYOO sun amma illee akkana isheen jedhe;
“Kunoo ati ulfoofteerta;
ilmas ni deessa.
Maqaa isaas Ishmaaʼeel jedhii moggaasi;
WAAQAYYO dhiphachuu kee dhagaʼeeraatii.
12 Inni nama akka harree diidaa taʼa;
harki isaa nama hunda irratti kaʼa;
harki nama hundaas isa irratti kaʼa;
obboloota isaa hundaanis jibbamaa jiraata.”
13 Isheenis maqaa WAAQAYYO isheetti dubbate sanaa, “Elrooʼii” jettee waamte.
Isheen, “Ani dhugumaan Isa na argu sana argeera” jetteertiitii. 14 Sababiin boolli
bishaanii sun, “Beʼeer Lahaayirooʼii” jedhameefis kanuma. Innis hamma harʼaatti
illee Qaadeshii fi Bereed gidduu jira.
15 Aggaaris Abraamiif ilma deesse; Abraamis ilma isheen deesse sana Ishmaaʼeel
jedhee moggaase. 16 Yeroo Aggaar Ishmaaʼeelin isaaf deessetti Abraam nama waggaa
saddeettamii jaʼaa ture.

# 17

*Kakuu Dhagna qabaa*

1 Yeroo Abraam nama waggaa sagaltamii sagalii turetti WAAQAYYO isatti mulʼatee
akkana jedheen; “Ani Waaqa Waan Hundumaa Dandaʼuu dha; ati fuula koo dura
amanamummaan deddeebiʼi; hirʼinas hin qabaatin. 2 Ani kakuu koo anaa fi si gidduu
nan dhaaba; guddaas sin baayʼisa.”
3 Abraamis adda isaatiin lafatti gombifame; Waaqnis akkana isaan jedhe; 4 “Kunoo,
kakuun ani si wajjin galu kana: ati abbaa saba baayʼee taata. 5 Ati siʼachi Abraam
jedhamtee hin waamamtu; waan ani abbaa saboota baayʼee si taasiseef maqaan kee
Abrahaam taʼa. 6 Ani akka ati guddaa baayʼattu nan godha; akka sabni hedduun si
keessaa argamu nan godha; mootonnis si keessaa ni argamu. 7 Ani Waaqa keetii fi
Waaqa sanyii kee kan si duubaan dhufuu taʼuuf jedhee kakuu koo anaa, sii fi sanyii
kee kan si duubaa, dhaloota dhufuuf jiru gidduutti kakuu bara baraa godhee nan
dhaaba. 8 Biyya Kanaʼaan guutuu lafa ati amma orma taatee jiraattu kana ani dhaala
bara baraa godhee siʼii fi sanyiiwwan kee warra si booddeetiif nan kenna; anis Waaqa
isaanii nan taʼa.”
9 Waaqni Abrahaamiin akkana jedhe; “Ati immoo kakuu koo eeguu qabda; ati,
sanyiin kee warri si duubaas dhaloota isaanii keessatti kakuu koo eeguu qabdu.
10 Kakuun koo kan isin anaa fi siʼi gidduutti, sanyii kee kan siʼi duubaan dhufu
gidduuttis eeguu qabdan kanaa dha; innis isin keessaa dhiirri hundinuu dhagna haa
qabatu. 11 Qola keessan dhagna qabadhaa; kunis kakuu anaa fi isin gidduu jiruuf
mallattoo taʼa. 12 Isin keessaa dhiirri guyyaa saddeet guute dhagna haa qabatu;

dhaloota keessan hunda keessatti dhiirri mana keetti dhalate yookaan kan nama
biyya ormaa irraa maallaqa keetiin bitame hundi kan sanyii kee hin ta'in dhagna
haa qabatu. 13 Mana keetti dhalatanis yookaan maallaqa keetiin bitamanis isaan
dhagna haa qabatan. Kakuun koo kan foon keessan irratti godhame kun kakuu bara
baraa ta'a. 14 Dhiirri dhagna hin qabatin, kan qola foon isaa dhagna hin qabatin kam
iyyuu saba ofii isaa keessaa balleeffama; inni kakuu koo cabseeraatii."

15 Waaqni ammas Abrahaamiin akkana jedhe; "Ati si'achi niitii kee Sooraadhaan,
Sooraa hin jettu; maqaan ishee Saaraa ta'a. 16 Ani ishee nan eebbisa; ishee irraas ilma
siif nan kenna. Akka isheen haadha sabootaa taatuufis ishee nan eebbisa; mootonni
sabootaas ishee keessaa argamu."

17 Abrahaamis addaan gombifame; kolfees, "Nama waggaa dhibbaatiif ilmi ni dha-
lataa? Saaraanis waggaa sagaltamatti mucaa deessii?" jedhee yaade. 18 Abrahaamis
Waaqaan, "Maaloo utuu Ishmaa'eel fuula kee dura naa jiraatee!" jedhe.

19 Waaqnis akkana jedhe; "Tole; garuu niitiin kee Saaraan ilma siif deessi; maqaa
isaas Yisihaaq jedhii moggaasi. Anis kakuu koo sanyii isaa kan isa duubaan dhufuuf
kakuu bara baraa godhee isa wajjin nan dhaaba. 20 Waa'ee Ishmaa'eel immoo ani si
dhaga'eera; kunoo ani, isa nan eebbisa; akka inni baay'atu nan godha; guddaa isa
nan baay'isa. Inni abbaa bulchitoota kudha lamaa ta'a; anis saba guddaa isa nan
godha. 21 Kakuu koo garuu Yisihaaq isa Saaraan waggaa dhufu keessa yeroo kanatti
siif deessu wajjin nan dhaaba." 22 Waaqni erga Abrahaam wajjin haasa'ee fixatee
booddee isa biraa ol ba'e.

23 Abrahaamis guyyuma sana ilmaan isaa Ishmaa'eelii fi warra mana isaatti
dhalatan yookaan warra maallaqa isaatiin bitaman hunda, dhiira mana isaa
hundumaas fuudhee akkuma Waaqni isatti himetti dhagna qabe. 24 Abrahaam yeroo
dhagna qabatetti nama waggaa sagaltamii sagalii ture. 25 Ilmi isaa Ishmaa'eel immoo
yeroo dhagna qabatetti nama waggaa kudha sadii ture. 26 Abrahaamii fi ilmi isaa
Ishmaa'eel guyyuma sana dhagna qabatan. 27 Dhiirri mana Abrahaam hundinuu,
warri mana isaatti dhalatan yookaan warri orma irraa maallaqaan bitamanis isa
wajjin dhagna qabatan.

# 18

*Keessummoota Sadan*

1 Utuma Abrahaam guyyaa saafaadhaan qilxuu Mamree bira balbala dunkaana isaa
dura taa'ee jiruu WAAQAYYO isatti mul'ate. 2 Abrahaamis ol ilaalee namoota isa bira
dhadhaabatan sadii arge. Innis akkuma isaan argeen balbala dunkaana isaa duraa
ka'ee isaan simachuudhaaf itti fiige; hamma lafa ga'uttis gad jedhee harka fuudhe.

3 Innis akkana jedheen; "Gooftaa ko, yoo ani si duratti fudhatama argadhe, garbicha
kee bira hin darbin. 4 Bishaan xinnoo isiniif haa fidan; miilla dhiqadhaatii muka kana
jala boqodhaa. 5 Erga isin gara garbicha keessanii dhuftanii, ani akka isin dadhabbii
baatanii karaa keessan itti fuftaniif waan isin nyaattan isiniifin kenna."

Isaanis, "Akkuma jette sana godhi" jedhanii deebisan.

6 Kanaafuu Abrahaam dafee Saaraatti dunkaana seenee, "Dafii daakuu bullaa'aa
safartuu sadii sukkuumiitii maxinoo tolchi" jedheen.

7 Innis gara saawwaniitti fiigee jabbii gabbatee itti tole tokko filatee hojjetaa tokkotti
kenne; hojjetaan sunis qopheessuuf ariifate. 8 Abrahaamis itittuu fi aannan, foon
jabbii qopheeffame sanas geessee isaanii dhi'eesse; yeroo isaan nyaachaa turanittis
Abrahaam muka tokko jala isaan bira dhaabachaa ture.

9 Isaanis, "Niitiin kee Saaraan eessa jirti?" jedhanii isa gaafatan.

Innis, "Kuunnoo dunkaana keessa jirti" jedheen.

10 Isaan keessaa tokko, “Ani dhugumaan bara dhufu keessa yeroo akkanaatti
deebi’ee gara kee nan dhufa; niitiin kee Saaraanis ilma ni deessi” jedhe.

Yeroo sana Saaraan balbala dunkaanaa kan isa duubaan jiru keessaan dhaggeef-
fachaa turte. 11 Abrahaamii fi Saaraan umuriin isaanii dheeratee dulloomanii turan;
Saaraanis umurii itti mucaa da’uu dandeessu dabartee turte. 12 Kanaafuu Saaraan,
“Ani erga jaaree bututee, gooftaan koos erga dulloomee booddee, gammachuu kana
qabaachuu nan danda’aa?” jettee of keessatti kolfite.

13 Kana irratti Waaqayyo Abrahaamiin akkana jedhe; “Saaraan maaliif, ‘Ani ergan
dulloomee booddee amma dhugumaan mucaa nan da’aa?’ jettee kolfite? 14 Wanni
Waaqayyoof hin danda’amne tokko iyyuu jiraa? Ani bara dhufu keessa yeroo
murteeffametti deebi’ee gara kee nan dhufa; Saaraanis ilma ni deessi.”

15 Saaraanis waan sodaatteef sobdee, “Ani hin kolfine” jette.

Inni garuu, “Lakkii kolfiteertaa” jedhe.

### *Abrahaam Sodoomiif Kadhachuu Isaa*

16 Namoonni sun yommuu deemuuf ka’anitti gara Sodoom gad ilaalan; Abrahaamis
isaan geggeessuuf jedhee isaan wajjin ba’e. 17 Ergasii Waaqayyo akkana jedhe; “Ani
waanan gochuuf jiru Abrahaamin nan dhoksaa? 18 Abrahaam dhugumaan saba
guddaa fi jabaa ta’a; sabni lafa irraa hundinuu karaa isaatiin eebbifama. 19 Akka
inni ijoollee isaatii fi sanyii isaa warra isa duubaan dhufan, akka isaan waan qajeelaa
fi sirrii ta’e hojjechuudhaan karaa Waaqayyoo eegan ajajuuf ani isa filadheeraatii;
kunis akka Waaqayyo waan Abrahaamiif kakate sana isaaf guutuuf.”

20 Waaqayyos akkana jedhe; “Iyyi Sodoomii fi Gomoraa irratti iyyame guddaa dha;
cubbuun isaaniis waan akka malee hamaa ta’eef 21 ani gad bu’ee akka wanni isaan
hojjetan akkuma iyya na qaqqabe sanaa hamaa ta’e nan ilaala. Yoo akkas ta’uu baate
immoo natu beeka.”

22 Namoonni sunis garagalanii Sodoomitti qajeelan; Abrahaam garuu Waaqayyo
dura dhaabatee hafe. 23 Abrahaamis isatti dhi’aatee akkana jedhe; “Ati nama
qajeelaa nama jal’aa wajjin ni balleessitaa? 24 Yoo namoonni qajeeloon shantamni
magaalattii keessa jiraatan hoo? Ati dhugumaan ishee ni balleessitaa? Sababii
qajeelota shantamman ishee keessa jiraatan sanaatiif jettee ishee hin oolchituu?
25 Qajeelaa fi hamaa wal qixxee ilaaluudhaan nama qajeelaa nama hamaa wajjin
balleessuun sirraa haa fagaatu. Kun sirraa haa fagaatu! Abbaan murtii lafa hundaa
waan qajeelaa hin hojjetuu?”

26 Waaqayyos, “Ani yoo magaalaa Sodoom keessatti qajeeltota shantama argadhe,
isaaniif jedhee iddoo sana guutuu nan oolcha” jedhe.

27 Abrahaam ammas akkana jedhe; “Kunoo ani utuman awwaaraa fi daaraa ta’ee
jiruu Gooftaatti dubbachuuf ija jabaadheera; 28 yoo baay’inni qajeeltotaa shantama
irraa shan hir’ate hoo? Ati sababii namoota shanan sanaatiif jettee magaalaa sana
guutuu ni balleessitaa?”

Innis, “Ani yoo nama afurtamii shan achitti argadhe ishee hin balleessu” jedhe.

29 Abrahaam amma illee, “Yoo qajeeltonni afurtamni qofti achitti argaman hoo?”
jedhee isatti dubbate.

Gooftaanis, “Ani warra afurtama sanaaf jedhee nan dhiisa” jedhe.

30 Abrahaamis, “Mee nan dubbadhaatii Gooftaan, hin aarin. Yoo namoonni
soddomni qofti achitti argaman hoo?” jedhe.

Gooftaanis, “Ani yoon nama soddoma achitti argadhe ishee hin balleessu” jedhee
deebise.

31 Abrahaamis, “Kunoo amma erga ani Gooftaatti dubbachuuf ija jabaadhe, yoo
namoonni digdamni qofti achitti argaman hoo?” jedhe.

Gooftaanis, “Ani sababii namoota digdama sanaatiif jedhee ishee hin balleessu”
jedhe.
32 Abrahaamis, “Yaa Gooftaa amma illee yeroo tokko waa sin gaafadhaatii maaloo
hin aarin; yoo namni kudhan qofti achitti argame hoo?” jedhe.
Gooftaan immoo, “Ani sababii namoota kurnan sanaatiif jedhee ishee hin
balleessu” jedhe.
33 Waaqayyos erga Abrahaam wajjin dubbatee fixee booddee achii deeme. Abra-
haam immoo iddoo ofii isaatti deebi’e.

# 19

*Badiisa Sodoomiitii fi Gomoraa*

1 Ergamoonni Waaqayyoo sun lamaan galgala sana Sodoom ga’an; Looxis karra
Sodoomii dura taa’aa ture. Innis yeroo jara argetti, isaan simachuuf ka’ee isaanitti
deeme; gad jedhees adda isaatiin lafatti gombifame. 2 Innis, “Yaa gooftota ko, maaloo
mana garbicha keessaniitti goraatii miilla dhiqadhaa bulaa; barii barraaqaan kaatanii
karaa keessan itti fufuu dandeessu” jedhe.
Isaan immoo, “Hin ta’u; nu waltajjii karaa irra bullaa” jedhaniin.
3 Inni garuu akka malee isaan dirqisiise; kanaafuu goranii mana isaa seenan; innis
maxinoo tolchee nyaata qopheesseef; isaanis ni nyaatan. 4 Utuu isaan hin rafin
namoonni kutaalee magaalaa Sodoom hunda keessaa dhufan hundi dargaggoonnii
fi jaarsoliin mana sana marsan. 5 Isaanis Looxin waamanii, “Namoonni galgala kana
gara kee dhufan eessa jiru? Akka nu isaan wajjin ciifnuuf gad nuu yaasi” jedhan.
6 Looxis jara sanatti gad ba’ee balbala of duubaan cufe; 7 Akkanas jedhe; “Yaa
obboloota ko, waan hamaa kana hin hojjetinaa! 8 Kunoo ani intallan lama kanneen
takkumaa dhiira wajjin hin ciisin qaba. Lamaanuu gad isinii nan baasa; isinis waan
feetan isaan gochuu dandeessu. Namoota kanneen garuu waan isaan bantii mana
koo jala jiraniif homaa isaan hin godhinaa.”
9 Isaanis, “Badi asii!” jedhaniin. Ittuma fufaniis, “Namichi kun nama ormaa kan
nu keessa jiraachuu dhufee dha; amma immoo abbaa murtii nutti ta’uu fedha! Nu
waan hamaa jara irratti hojjennu caalaa sirratti hojjenna” jedhaniin. Isaanis Looxin
humnaan dhiibanii balbala sana cabsuu ga’an.
10 Namoonni sunis hiixatanii Looxin harkisanii manatti ol deebisan; balbalichas
ni cufan. 11 Ergasii immoo namoota balbala manaa dura turan sana akka isaan
balbalicha hin argineef xinnaa fi guddaa isaanii dha’ichaan ija jaamsan.
12 Namoonni lamaan sun Looxiin akkana jedhan; “Ati nama biraa tokko illee
jechuunis soddoota, ilmaan yookaan intallan yookaan nama kan kee ta’e tokko
illee magaalaa kana keessaa qabdaa? Asi keessa isaan baafadhu; 13 nu iddoo kana
balleessuuf deemnaatii. Sababii iyyi saba ishee irratti iyyame fuula Waaqayyoo
duratti guddaa ta’eef, Waaqni akka nu ishee balleessinuuf nu ergeera.”
14 Kanaafuu Loox gad ba’ee soddoota isaa warra intallan isaa fuudhuuf jiraniin,
“Sababii Waaqayyo magaalaa kana balleessuuf ka’eef, dafaatii asii ba’aa!” jedhe.
Soddoonni isaa garuu waan inni qoosu se’an.
15 Yeroo boruun diimatetti ergamoonni Waaqayyoo sun Looxin jarjarsanii, “Niitii
keetii fi intallan kee lamaan as jiran fudhadhuutii dafii ba’i! Yoo kanaa achii yeroo
magaalattiin adabamtutti atis ni baddaa” jedhaniin.
16 Inni garuu duubatti harkifate; waan Waaqayyo isaaniif garaa laafeef namoonni
sun harka isaatii fi harka niitii isaa, intallan isaa lamaanis harka qabanii magaalattii
keessaa isaan baasan. 17 Akkuma gad isaan baasaniinis ergamoota sana keessaa inni
tokko, “Lubbuu kee oolfachuuf baqadhu! Of duuba hin mil’atin! Dirree irra iddoo

tokko illee hin dhaabatin! Tulluuwwanitti ol baqadhu; yoo kanaa achii ni baddaa!” jedhe.
[18] Loox garuu akkana isaaniin jedhe; “Yaa gooftota ko, maaloo akkas miti! [19] Kunoo
garbichi kee fuula kee duratti fudhatama argateera; ati lubbuu koo oolchitee gara laafina guddaa na argisiifteerta. Ani garuu gara tulluutti ol baqachuu hin danda’u; balaan kun na argata; anis nan du’a. [20] Kunoo, magaalaan itti baqachuun danda’amu
tokko as dhi’oo jirti; isheen xinnoo dha. Ani gara isheetti nan baqadha; isheen baay’ee xinnoo dha mitii? Akkasitti lubbuun koo ni baraaramti.”
[21] Ergamaan sunis akkana jedheen; “Kunoo, ani kadhaa kana siif nan dhaga’a;
magaalaa ati waa’ee ishee dubbattu kana ani hin balleessu. [22] Garuu sababii ani
hamma ati achi geessutti homaa gochuu hin dandeenyeef dafii achitti baqadhu!” Wanni magaalaan sun Zo’aar jedhamteefis kanuma.
[23] Yeroo Loox Zo’aar ga’etti aduun baatee turte. [24] Waaqayyo samiiwwan keessaa
Waaqayyo biraa, dinyii boba’u Sodoomii fi Gomoraa irratti roobse. [25] Innis akkasiin
magaalaawwan kanneenii fi dirreewwan sana guutuu, warra magaalaawwan sana keessa jiraatan hundaa fi biqiltuu biyya sanaa balleesse. [26] Niitiin Looxi garuu of
duuba ilaaltee utubaa soogiddaa taatee hafte.
[27] Abrahaamis guyyaa itti aanu ganama obboroon ka’ee iddoo duraan fuula
Waaqayyoo dura dhaabachaa ture sanatti deebi’e. [28] Innis gara magaalaawwan
Sodoomii fi Gomoraa, gara lafa dirree sanaa hundaas ilaalee aara akka aara boolla ibiddaa keessaa ba’uu tokko isaa biyya sana keessaa ol ka’u arge.
[29] Waaqni yeroo magaalaawwan dirree sanaa balleessetti Abrahaamin yaadate; kanaafuu yommuu magaalaawwan Loox keessa jiraachaa ture balleessetti Looxin balaa sana keessaa baase.

*Looxii fi Intallan Isaa*

[30] Loox waan Zo’aar keessa jiraachuu sodaateef intallan isaa lamaan wajjin Zo’aarii
ba’ee gaarran irra qubate. Innis intallan isaa lamaan wajjin holqa tokko keessa
jiraate. [31] Gaaf tokko intalli isaa isheen hangafti ishee quxisuudhaan akkana jette;
“Abbaan keenya dulloomeera; akka bartee lafa hunda irra jiruutti dhiirri nu wajjin ciisu tokko iyyuu naannoo kan hin jiru. [32] Kottu mee abbaa keenya daadhii wayinii
obaasnee isa wajjin ciifnaa; akkasiin sanyiin abbaa keenyaa lafa irratti akka hafu goona.”
[33] Isaanis halkan sana abbaa isaanii daadhii wayinii obaasan; intalli isheen hangafti
ol seentee isa wajjin ciifte. Inni yeroo isheen ciiste yookaan yeroo isheen kaate hin beekne.
[34] Guyyaa itti aanutti intalli hangafti ishee quxisuudhaan akkana jette; “Kunoo ani
eda abbaa koo wajjin ciiseera. Kottu edanas daadhii wayinii isa obaasnaa; atis ol seenii isa wajjin ciisi; akkasitti sanyiin abbaa keenyaa akka hafu goona.” [35] Isaan
halkan sanas abbaa isaanii daadhii wayinii obaasan; intalli quxisuun dhaqxee isa wajjin ciiste. Inni ammas yeroo isheen ciiste yookaan yeroo isheen kaate hin beekne.
[36] Akkasiin intallan Loox lamaanuu abbaa isaaniitiif ulfaa’an. [37] Intalli isheen
hangafti ilma deessee maqaa isaa Mo’aab jettee moggaafte. Inni abbaa Mo’aabota
har’aa ti. [38] Intalli isheen quxisuunis ilma deessee maqaa isaa Ben-Amii jettee
moggaafte; inni immoo abbaa Amoonota har’aa ti.

# 20

*Abrahaamii fi Abiimelek*

*20:1-18 kwi – Uma 12:10-20; 26:1-11*

[1] Abrahaam achii ka’ee Negeebitti godaanee Qaadeshii fi Shuuri gidduu jiraate.
Innis yeroodhaaf Geraaraa keessa ture. [2] Achittis Abrahaam, “Isheen obboleettii koo

ti" jedhee waa'ee niitii isaa, waa'ee Saaraa dubbate. Abiimelek mootiin Geraaraas nama itti ergee Saaraa fudhate.

3 Waaqni immoo halkan abjuudhaan Abiimelekitti dhufee, "Kunoo sababii dubartii sana fuudhatteef ati nama du'ee dha; isheen dhirsa qabdiitii" jedheen.

4 Abiimelek garuu isheetti hin dhi'aanne ture; kanaafuu inni akkana jedhe; "Yaa
Gooftaa ati saba qajeelaa balleessitaa? 5 Inni mataan isaa, 'Isheen obboleettii koo
ti' naan hin jennee? Isheenis akkasuma, 'Inni obboleessa koo ti' hin jennee? Anis sammuu qulqulluu fi harka qulqulluudhaan waan kana hojjedhe."

6 Waaqni abjuu sana keessa akkana isaan jedhe; "Eeyyee! Ani akka ati sammuu qulqulluudhaan waan kana hojjette beeka; kanaafuu ani akka ati cubbuu natti hin hojjenneef si dhowween jira. Sababiin ani akka ati ishee bira geessu si hin dhiisiniifis
kanuma. 7 Egaa amma niitii namichaa deebisiif; inni waan raajii ta'eef, Waaqa siif kadhata; atis ni jiraatta. Garuu yoo ishee deebisuu baatte, ati akka duutu, warri kan kee ta'an hundis akka du'an dhugumaan beeki."

8 Abiimelek guyyaa itti aanu ganama obboroon ka'ee qondaaltota isaa hunda walitti
waamee waan ta'e hunda isaanitti hime; isaanis akka malee sodaatan. 9 Abiimelekis
Abrahaamin ofitti waamee akkana jedheen; "Ati maaliif akkana nu goote? Ani maal si goonaan ati cubbuu guddaa akkanaa anaa fi mootummaa kootti fidde? Ati waan
namni hin hojjenne anatti hojjette." 10 Abiimelekis "Ati maaliif waan kana hojjette?"
jedhee Abrahaamin gaafate.

11 Abrahaam immoo akkana jedhee deebise; "Ani, 'Biyya kana keessa dhugumaan Waaqa sodaachuun hin jiru; isaan sababii niitii kootiif jedhanii na ajjeesu' jedheen
yaadee ture. 12 Ta'us isheen dhugumaan obboleettii koo ti; yoo haadha koo irraa
dhalachuu baatte iyyuu isheen intaluma abbaa koo ti; isheenis niitii koo taate. 13 Anis
yeroo Waaqni mana abbaa kootii na baase sana isheedhaan, 'Haalli ati ittiin jaalala naaf qabdu mul'iftu kanaa dha; lafa nu dhaqnu hundumaatti, "Inni obboleessa koo ti" jedhiitii waa'ee koo dubbadhun' jedhe."

14 Abiimelek ergasii hoolaa fi loon, garboota dhiiraa fi nadheenii fidee Abrahaamiif
kenne; niitii isaa Saaraas ni deebiseef. 15 Abiimelekis, "Kunoo biyyi koo fuula kee dura jira; idduma feete jiraadhu" jedheen.

16 Saaraadhaanis, "Kunoo ani meetii saqilii kuma tokko obboleessa keetiifin kenna. Kunis akka dhugaa qabaachuun kee fuula warra si wajjin jiranii duratti beekamuuf; ati guutumaan guutuutti dhugaa argatteerta" jedhe.

17 Abrahaamis Waaqa kadhate; Waaqni immoo Abiimelek, niitii isaatii fi garboota
isaa dubartoota fayyise; isaanis ijoollee godhatan. 18 WAAQAYYO sababii niitii Abrahaam sababii Saaraatiif jedhee gadameessa dubartoota mana Abiimelek jiraatanii hunda cufee tureetii.

# 21

*Dhalachuu Yisihaaq*

1 WAAQAYYO akkuma dubbate sana Saaraa yaadate; WAAQAYYO waan waadaa galeef
sana ni raawwateef. 2 Saaraan ulfooftee bara dulluma isaa keessa yeruma Waaqni
waadaa isaaf seene sanatti Abrahaamiif ilma deesse. 3 Abrahaamis ilma Saaraan isaaf
deesse sana Yisihaaq jedhee moggaase. 4 Abrahaam akkuma Waaqni isa ajaje sanatti
Yisihaaq dhalatee guyyaa saddeetitti dhagna isa qabe. 5 Yeroo ilmi isaa Yisihaaq
dhalateefitti Abrahaam nama waggaa dhibbaa ture.

6 Saaraanis, "Waaqni kolfa naa kenneera; namni waan kana dhaga'u hundis na
wajjin kolfa" jette. 7 Ittuma fuftees, "Silaa eenyutu Abrahaamiin, 'Saaraan daa'ima hoosisti' jedha ture? Garuu ani bara dulluma isaa keessa ilma nan da'eef" jette.

### *Aggaarii fi Ishmaa'eel Manaa Ari'amuu Isaanii*

8 Mucichi guddatee harma guufame; Abrahaam gaafa Yisihaaq harma guufame
sana cidha guddaa qopheesse. 9 Saaraan garuu yeroo ilmi Aggaar Gibxittiin
Abrahaamiif deesse sun Yisihaaqitti qoosu argite; 10 isheenis Abrahaamiin, "Garbittii
kanaa fi ilma ishee ari'i; ilmi garbittii kanaa kun ilma koo Yisihaaq wajjin hin
dhaaluutii" jette.

11 Wanni kunis sababii ilma isaatiif Abrahaamin akka malee rakkise. 12 Waaqni
garuu akkana jedheen; "Waa'ee garbittii keetiitii fi waa'ee mucichaa hin yaadda'in.
Sababii sanyiin kee Yisihaaqiin siif waamamuuf waan Saaraan siin jettu hunda
dhaga'i. 13 Inni sanyii kee waan ta'eef ani ilma garbittii sanaa saba nan taasisa."

14 Abrahaamis guyyaa itti aanu ganama obboroon ka'ee nyaata muraasaa fi bishaan
qalqala tokko fuudhee Aggaariif kenne. Waan kanas gatiittii ishee irra kaa'eefii
mucaa wajjin ari'e; isheenis achii baatee Gammoojjii Bersheebaa keessa joorte.

15 Yommuu bishaan qalqala keessaa dhumetti, isheen mucaa ishee daggala tokko
jala keesse. 16 Isheenis, "Mucaa kana isaa du'u ani hin ilaalu" jettee garaa isheetti
waan yaaddeef gara darba xiyyaa tokko xinnoo achi hiiqxee naannoo isaa teesse;
achi teessees sagalee ishee ol fudhattee boosse.

17 Waaqni boo'icha mucichaa ni dhaga'e; ergamaan Waaqayyoo samii keessaa
Aggaarin waamee akkana jedheen; "Yaa Aggaar ati maal taate? Hin sodaatin; Waaqni
boo'icha mucichaa iddoo inni ciisee jiruu dhaga'eeraatii. 18 Sababii ani saba guddaa
isa godhuuf ka'iitii harka keetiin mucicha ol fuudhi; jabeessiitii isa qabi."

19 Waaqni ija ishee baneefii jennaan boolla bishaanii tokko argite. Kanaafuu
dhaqxee qalqala sana bishaaniin guuttee, waan inni dhugu mucichaaf kennite.

20 Waaqnis mucicha wajjin ture; mucichis ni guddate. Innis gammoojjii keessa
jiraate; xiyya darbachuudhaanis beekamaa ture. 21 Innis gammoojjii Phaaraan keessa
jiraate; haati isaas biyya Gibxiitii niitii argatteef.

### *Walii Galtee Bersheebaatti Godhame*

22 Yeroo sana Abiimelekii fi Fiikool ajajaan loltoota isaa Abrahaamiin akkana
jedhan; "Waan ati hojjettu hunda keessatti Waaqni si wajjin jira. 23 Ati akka ana
yookaan ijoollee koo yookaan sanyii koo hin gowwoomsine amma as fuula Waaqaa
duratti naa kakadhu. Akkuma ani garaa siif laafe sana atis anaa fi biyya amma orma
taatee keessa jiraattu kanaaf garaa laafi."

24 Abrahaamis, "Ani nan kakadha" jedhe.

25 Ergasii Abrahaam waa'ee boolla bishaanii garboonni Abiimelek isa irraa
fudhatan tokkoo Abiimelekitti himate. 26 Abiimelek immoo, "Ani nama waan kana
hojjete hin beeku. Atis natti hin himne; ani waa'ee isaa har'uman dhaga'e" jedhe.

27 Kanaafuu Abrahaam hoolaa fi loon fidee Abiimelekiif kenne; jarri lamaanis walii
galtee uummatan. 28 Abrahaam gorommii hoolaa torba bushaayee keessaa kophaatti
baase; 29 Abiimelekis, "Hiikkaan gorommii hoolaa torban ati kophaa isaanii baafte
kanneenii maali?" jedhee Abrahaamin gaafate.

30 Abrahaamis, "Akka ani boolla bishaanii kana qotadhe akka ragaa ta'uuf,
gorommii hoolaa torban kanneen na harkaa fudhadhu" jedhee deebise.

31 Sababii jarri lamaan sun achitti walii kakataniif iddoon sun Bersheebaa
jedhamee waamame.

32 Erga walii galteen sun Bersheebaatti ta'ee booddee Abiimelekii fi Fiikool ajajaan
loltoota isaa gara biyya Filisxeemotaatti deebi'an. 33 Abrahaamis Bersheebaa keessa
muka tamirii dhaabe; innis achitti maqaa WAAQAYYO Waaqa Bara Baraa waammate.
34 Abrahaam biyya Filisxeemotaa keessa bara dheeraa jiraate.

# 22

*Abrahaam Qorame*

1 Yeroo muraasa booddee Waaqni Abrahaamin qore. Innis, “Abrahaam!” jedhee
isa waame.
Abrahaamis, “Kunoo asan jira” jedhee deebise.
2 Waaqnis akkana jedheen; “Ilma kee Yisihaaq, ilma kee tokkicha isa jaallattu sana
fudhiitii biyya Mooriyaa dhaqi. Tulluu ani sitti himu irratti qalma gubamu godhiitii
isa dhi’eessi.”
3 Abrahaamis guyyaa itti aanu ganama barraaqaan ka’ee harree isaa fe’ate. Innis
hojjettoota isaa keessaa nama lamaa fi ilma isaa Yisihaaqin fudhatee qoraan qalma
gubamuuf ga’u cabsatee gara iddoo Waaqni isatti hime sanaatti qajeele. 4 Guyyaa
sadaffaattis Abrahaam ol ilaalee iddoo sana fagootti arge. 5 Innis hojjettoota isaatiin,
“Isin harree wajjin asuma turaa. Anii fi mucichi duuba sana dhaqnaa; achittis
waaqeffannee gara keessanitti deebinaa” jedhe.
6 Abrahaamis qoraan aarsaa gubamuuf ta’u fuudhee ilma isaa Yisihaaqin baachise;
ofii isaatii immoo ibiddaa fi billaa harkatti qabate. Isaan lamaan utuu walumaan
deemaa jiranuu, 7 Yisihaaq, “Yaa abbaa koo” jedhee abbaa isaa Abrahaamitti dubbate.
Abrahaamis, “Asan jira ilma koo” jedhee deebise.
Yisihaaqis deebisee, “Ibiddii fi qoraan kunoo ti; hoolaan qalma gubamuuf ta’u
immoo eessa jira?” jedhe.
8 Abrahaamis deebisee, “Yaa ilma ko, Waaqni mataan isaa hoolaa qalma gubamuuf
ta’u ni kenna” jedhe. Isaan lamaanis walumaan karaa isaanii itti fufan.
9 Yeroo iddoo Waaqni isatti hime sana ga’anitti, Abrahaam iddoo aarsaa achitti
ijaaree iddoo aarsaa sana irra qoraan naqe; ilma isaa Yisihaaqin hidhees iddoo aarsaa
sana irra qoraan gubbaa ciibse. 10 Ergasii inni ilma isaa qaluuf jedhee harka isaa
hiixatee billaa fudhate. 11 Ergamaan Waaqayyoo garuu, “Abrahaam! Abrahaam!”
jedhee samii keessaa isa waame.
Abrahaamis, “Kunoo asan jira” jedhee deebise.
12 Innis, “Ati harka keetiin gurbicha hin tuqin; waan tokko illee isa hin godhin.
Waan ati ilma kee, ilmuma tokkicha anaaf jettee hin mararfatiniif, ani akka ati Waaqa
sodaattu amma beekeera” jedhe.
13 Abrahaamis ol ilaalee kunoo korbeessa hoolaa kan gaanfi isaa daggala keessatti
qabamee jiru tokko arge; innis dhaqee hoolaa sana fuudhee qooda ilma isaa qalma
gubamu godhee dhi’eesse. 14 Kanaafuu Abrahaam iddoo sana “Waaqayyo ni kenna”
jedhee moggaase; hamma har’aatti illee, “Tulluu Waaqayyoo irratti, ni kennama”
jedhama.
15 Ergamaan Waaqayyoo sunis samii keessaa lammata Abrahaamin waamee
16 akkana jedheen; “Waaqayyo akkana jedha; sababii ati waan kana gootee fi ilma kee,
ilmuma kee tokkicha illee na hin dhowwatiniif ani maqaa kootiin nan kakadha; 17 ani
dhugumaan eebba, sin eebbisa; sanyii kees akkuma urjii samiitii fi akkuma cirracha
qarqara galaanaa nan baay’isa. Sanyiiwwan kees magaalaawwan diina isaanii ni
dhuunfatu. 18 Waan ati naa ajajamteef sabni lafa irraa hundinuu karaa sanyii keetiin
eebbifama.”
19 Ergasii Abrahaam tajaajiltoota isaatti deebi’e; isaanis walumaan Bersheebaatti
qajeelan; Abrahaamis Bersheebaa keessa jiraate.

*Ilmaan Naahoor*

20 Yeroo muraasa booddee akkana jedhamee Abrahaamitti himame; “Kunoo,
Miilkaan obboleessa kee Naahooriif ilmaan deesseerti;
21 ilmaan isheen deesses inni hangafni Uuzi, obboleessi isaa Buuz,
abbaan Arraam immoo Qamu’eel,

22 Keseedi, Hazoo, Fiildaas, Yiidlaafii fi Betuu'eel jedhamu."
23 Betuu'eel Ribqaa dhalche.
Miilkaan isaan kana saddeettan Naahoor obboleessa Abrahaamiif deesse.

24 Naahor saajjatoo Re'uumaa jedhamtu tokko qaba ture;
isheen ilmaan Xebaa, Gaham, Tahaashii fi Ma'akaa jedhaman deesseef.

# 23

*Saaraan Du'uu ishee*

1 Saaraan waggaa dhibba tokkoo fi digdamii torba jiraatte; barri jireenya Saaraas
kanuma ture. 2 Isheenis Kiriyaati Arbaaq jechuunis Kebroon biyya Kana'aan keessaa
sanatti duute; Abrahaamis Saaraadhaaf gadduu fi boo'uudhaaf jedhee dhaqe.
3 Abrahaam reeffa niitii isaa biraa ka'ee Heetotaan akkana jedhe; 4 "Ani gidduu
keessanitti ormaa fi keessummaa dha. Akka ani du'aa koo itti awwaalladhuuf lafa
awwaalaaf ta'u natti gurguraa."
5 Heetonnis akkana jedhanii Abrahaamii fi deebii kennan; 6 "Gooftaa, nu dhaga'i.
Ati nu gidduutti shuumii jabaa dha. Du'aa kee iddoo awwaala keenyaa keessaa kan
akka malee filatamaa ta'etti awwaalladhu. Nu keessaa namni iddoo awwaala isaatti
du'aa kee awwaallachuu si dhowwatu tokko iyyuu hin jiru."
7 Abrahaamis ol ka'ee fuula namoota biyya sanaa fuula Heetotaa duratti gad jedhee
harka fuudhe. 8 Akkanas isaaniin jedhe; "Ani du'aa koo akkan awwaalladhu fedhii
yoo qabaattan na dhaga'aatii Efroon ilma Zoohar sana naa kadhadhaa. 9 Innis
holqa Makfelaa jedhamu kan qarqara lafa qotiisaa isaatti argamu sana natti ni
gurgura. Inni iddoo awwaalaa sana gatii guutuudhaan fuula keessan duratti akka
natti gurguruuf naa gaafadhaa."
10 Efroon Heetichi saba isaa gidduu taa'aa ture; innis utuma Heetonni gara karra
magaalaa isaa dhufan sun hundi dhaga'anuu akkana jedhee Abrahaamiif deebii
kenne; 11 "Gooftaa ko, akkana miti; mee na dhaggeeffadhu; ani lafa qotiisaa kana
siif nan kenna; holqa achi jirus siif nan kenna; ani fuula saba koo duratti holqa kana
siifin kenna; du'aa kee itti awwaalladhu."
12 Abrahaam amma illee fuula saba biyya sanaa duratti gad jedhee harka fuudhee,
13 utuma isaan dhaga'anuu Efrooniin, "Yoo fedhii kee ta'e, na dhaga'i. Ani gatii lafa
qotiisaa kanaa nan kaffala. Akka ani du'aa koo achitti awwaalladhuuf gatii kana na
harkaa fudhadhu" jedhe.
14 Efroonis akkana jedhee Abrahaamiif deebii kenne; 15 "Gooftaa ko, mee na
dhaga'i; gatiin lafa kanaa meetii saqilii dhibba afur ta'a; garuu kun anaa fi si gidduutti
maali? Du'aa kee itti awwaalladhu."
16 Abrahaamis waan Efroon dubbate sana fudhatee gatii inni utuma Heetonni
dhaga'anuu himate sana madaaleef; gatiin sunis akka madaalii daldaltoota yeroo
sanaatti meetii saqilii dhibba afur ture.
17 Akkasitti lafti qotiisaa Efroon kan fuula Mamree dura, Makfelaa keessa jiru sun
jechuunis lafti qotiisaatii fi holqi isa keessa jiru, mukni daangaa lafa qotiisaa sana
keessa jiru hundi, 18 fuula Heetota gara karra magaalaa dhufan hundaa duratti akka
dhaalaatti Abrahaamitti dabarfame. 19 Ergasii Abrahaam biyya Kana'aan keessa,
holqa Makfelaa kan Mamree bira jechuunis Kebroon bira jiru sanatti niitii isaa Saaraa
Awwaallate. 20 Akkasitti lafa qotiisaa sunii fi holqi achi keessaa akka lafa awwaalaa
ta'uuf Heetota irraa akka dhaalaatti Abrahaamitti dabarfame.

# 24

*Yisihaaqii fi Ribqaa*

1 Yeroo sana Abrahaam dulloomee, umuriin isaa akka malee dheeratee ture;
WAAQAYYOS waan hundumaan isa eebbise. 2 Innis tajaajilaa mana isaa hangafa kan
waan inni qabu hunda irratti itti gaafatamaa ta'een akkana jedhe; "Mee harka kee
gudeeda koo jala kaa'i. 3 Ani akka ati intallan warra Kana'aan kanneen ani gidduu
isaanii jiraadhuu keessaa ilma kootiif niitii hin fidneef WAAQAYYO Waaqa samiitii fi
Waaqa lafaatiin kakattu nan barbaada; 4 garuu gara biyya kootii fi gara firoota koo
dhaqiitii ilma koo Yisihaaqiif niitii barbaadi."

5 Tajaajilaan sun immoo, "Yoo dubartiin sun na wajjin gara biyya kanaa dhufuuf
fedhii qabaachuu baatte hoo? Ani ilma kee gara biyya ati keessaa dhufte sanaatti
deebisee geessuun qabaa?" jedhee isa gaafate.

6 Abrahaamis akkana isaan jedhe; "Ati akka ilma koo deebiftee biyya sanatti hin
geessine of eeggadhu. 7 WAAQAYYO Waaqni samii inni mana abbaa kootii fi biyya ani
itti dhaladhe keessaa na fidee, 'Ani biyya kana sanyii keetiif nan kenna' jechuudhaan
natti dubbatee kakatee waadaa naa seene sun akka ati achii ilma kootiif niitii fidduuf
ergamaa isaa fuula kee dura ni erga. 8 Yoo dubartiin sun si wajjin dhufuuf fedhii
qabaachuu baatte immoo ati kakuu koo kana irraa bilisa taata. Ilma koo garuu
gonkumaa achi hin deebisin." 9 Kanaafuu tajaajilaan sun harka isaa gudeeda gooftaa
isaa Abrahaam jala kaa'ee waa'ee waan kanaa kakateef.

10 Tajaajilaan sunis gaala gooftaa isaa keessaa kudhan fudhatee gooftaa isaa
biraa immoo kennaawwan filatamoo gosa hundaa fe'atee qajeele; innis magaalaa
Naahoor ishee kaaba dhi'a Phaadaan Arraam keessatti argamtuu dhaqe. 11 Innis
akka gaalawwan sun magaalattiin alatti boolla bishaanii cina jijilbeenfatan godhe;
yeroon sun gara galgalaa yeroo itti dubartoonni bishaan waraabbachuu ba'an ture.

12 Innis akkana jedhee kadhate; "Yaa WAAQAYYO Waaqa gooftaa koo Abrahaam,
har'a na milkeessiitii gooftaa koo Abrahaamiif garaa laafi. 13 Kunoo, ani burqaa kana
bira dhaabadheen jira; intallan warra magaalaa kanaas bishaan waraabbachuuf as
ba'aa jiru. 14 Intalli ani, 'Maaloo akka ani bishaan dhuguuf okkotee kee gad qabi'
jedheenii isheenis, 'Dhugi; ani gaalawwan kees siifin obaasaa' naan jettu ishee ati
garbicha kee Yisihaaqiif filatte haa taatu. Anis kanaan akka ati gooftaa kootiif garaa
laafte beeka."

15 Utuu inni kadhatee hin fixatin Ribqaan okkotee ishee gatiittiitti baadhattee
dhufte. Isheenis intala ilma Miilkaa kan Betuu'eel jedhamu sanaa turte; Miilkaan
immoo niitii obboleessa Abrahaam kan Naahoor jedhamu sanaa ti. 16 Intalli sunis
akka malee bareedduu fi durba turte; dhiirri tokko iyyuu ishee wajjin hin ciifne.
Isheenis gara burqaatti gad buutee okkotee isheetti bishaan guuttattee ol deebite.

17 Tajaajilaan sunis ishee simachuuf itti fiigee, "Maaloo okkotee kee keessaa bishaan
xinnoo ishee naa kenni" jedheen.

18 Isheenis, "Yaa gooftaa ko, dhugi" jetteenii daftee okkotee ishee harkatti gad
buufattee bishaan dhugaatii kenniteef.

19 Isheenis erga bishaan isa obaaftee booddee, "Ani gaalawwan keetiifis hamma
isaan dhuganii dheebuu ba'anitti nan waraaba" jette. 20 Daftees okkotee ishee keessaa
bidiruutti garagalchitee ammas bishaan waraabuudhaaf gara boolla bishaaniitti
fiigde; gaalawwan isaa hundaafis bishaan waraabde. 21 Namichi sunis akka
WAAQAYYO karaa isaaf milkeesse yookaan akka isaaf hin milkeessin baruuf jedhee
cal'isee xiyyeeffatee ishee ilaalaa ture.

22 Erga gaalawwan bishaan dhuganii booddee namichi amartii funyaanii kan
warqee kan walakkaa saqilii ulfaatuu fi bitawoo warqee kan saqilii kudhan ulfaatu
lama gad baasee, 23 "Ati intala eenyuu ti? Yoo mana abbaa keetii iddoon bulan jiraatte
maaloo mee natti himi" jedhee gaafate.

24 Isheenis, “Ani intala Betuu’eel; Betuu’eel immoo ilma Miilkaan Naahooriif
deessee dha” isaan jette. 25 Itti dabaltees, “Cidii fi okaa baay’ee qabna; kutaan isin
bultanis jira” jetteen.

26 Namichis gad jedhee WAAQAYYOOF sagade; 27 akkanas jedhe; “WAAQAYYO Waaqni
gooftaa koo Abrahaam kan arjummaa isaatii fi amanamummaa isaa gooftaa koo hin
dhowwatin sun haa eebbifamu. WAAQAYYO anas gara mana obboloota gooftaa kootti
karaa irra na qajeelcheera.”

28 Intalattiinis fiigdee dhaqxee warra mana haadha ishee jiranitti waa’ee waan
kanaa himte. 29 Ribqaan obboleessa Laabaa jedhamu tokko qabdi turte; Laabaanis
fiigee namicha burqaa bishaanii bira jiru sana bira dhaqe. 30 Innis yommuu
obboleettii isaa irratti amartii funyaanii warqeetii fi bitawoo argetti, yommuu utuu
Ribqaan waan namichi sun isheedhaan jedhe dubbattuu dhaga’etti, gara namichaatti
gad ba’e; namichis burqaa bishaanii cina gaalawwan bira dhaabatee ture. 31 Namicha
sanaanis, “Yaa namicha WAAQAYYO eebbise, kottu; ati maaliif ala dhaabatta? Ani
manicha qopheesseera; gaalawwaniifis iddoo qopheesseera” jedhe.

32 Kanaafuu namichi sun gara manaa dhaqe; Laabaanis gaalawwan irraa fe’iisa
buusee cidii fi okaa kenneef; akka miilla isaanii dhiqataniif immoo namichaa fi warra
isa wajjin turaniif bishaan kenne. 33 Ergasiis nyaanni dhi’aateef; namichi sun garuu,
“Ani hamman dhimma koo himadhutti hin nyaadhu” jedhe.

Laabaanis, “Himadhukaa” jedheen.

34 Innis akkana jedhe; “Ani tajaajilaa Abrahaamii ti. 35 WAAQAYYO, gooftaa koo
guddaa eebbiseera; innis sooromeera. Hoolotaa fi loowwan, meetii fi warqee,
garboota dhiiraatii fi dubartii, gaalawwanii fi harroota isaaf kenneera. 36 Niitiin
gooftaa kootii Saaraan bara dulluma ishee keessa ilma isaaf deesse; innis waan qabu
hunda ilma isaatiif kenneera. 37 Gooftaan koo akkana jedhee na kakachiise; ‘Ati
intallan Kana’aan kanneen ani biyya isaanii keessa jiraadhu keessaa ilma koof niitii
hin fidin; 38 garuu gara mana abbaa kootii fi gara gosa koo dhaqiitii ilma kootiif niitii
fidi.’

39 “Anis, ‘Yoo dubartiin sun na wajjin dhufuuf fedhii qabaachuu baattee hoo?’
jedhee gooftaa koo nan gaafadhe.

40 “Innis akkana naan jedhe; ‘WAAQAYYO inni ani fuula isaa dura jiraadhu ergamaa
isaa si wajjin ergee karaa kee siif milkeessa; atis gosa koo fi mana abbaa koo keessaa
ilma kootiif niitii ni fidda. 41 Ati yommuu gara gosa koo dhaqxu kakuu koo irraa
bilisa taata; yoo isaan intala sana sitti kennuu didani iyyuu ati kakuu koo irraa bilisa
taata.’

42 “Ani har’a yommuun gara burqaa kanaa dhufetti akkanan jedhe; ‘Yaa WAAQAYYO,
Waaqa gooftaa koo Abrahaam yoo fedhii kee ta’e karaa ani deemu naa milkeessi.
43 Kunoo, ani burqaa kana bira dhaabadheera; yoo durbi tokko bishaan waraab-
bachuu dhuftee ani immoo, “Maaloo okkotee kee keessaa bishaan xinnoo ishee na
obaasi” jedheenii, 44 isheenis, “Dhugi; ani gaalawwan keetiifis nan waraaba” naan
jette, isheen kan WAAQAYYO ilma gooftaa kootiif file haa taatu.’

45 “Utuu ani garaa koo keessatti kadhadhee hin fixatin Ribqaan okkotee ishee
gatiittiitti baadhattee gad dhufte. Isheenis gara burqaa sanaatti gad buutee bishaan
waraabbatte; anis, ‘Maaloo bishaan na obaasi’ nan jedheen.

46 “Isheenis daftee okkotee ishee gatiittii irraa gad buufattee, ‘Dhugi; ani gaalawwan
kees nan obaasaa’ jette. Anis nan dhuge; isheen immoo gaalawwan obaafte.

47 “Anis, ‘Ati intala eenyuu ti?’ jedheen ishee gaafadhe.

“Ishee immoo, ‘Ani intala Betuu’eel; Betuu’eel immoo ilma Miilkaan Naahooriif
deessee dha’ jette.

“Anis funyaan isheetti amartii, harka isheetti immoo bitawoo nan kaa’e. 48 Anis gad
jedhee WAAQAYYOOF nan sagade; WAAQAYYO Waaqa gooftaa koo Abrahaam isa akka
ani intala fira isaa ilma isaatiif geessu karaa qajeelaa irra na buuse sana nan eebbise.
49 Egaa isin yoo gooftaa kootti garaa laafummaa fi amanamummaa argisiiftan natti
himaa; yoo ta’uu baate immoo akka ani gara bitaatti yookaan gara mirgaatti goru
natti himaa.”
50 Laabaa fi Betuu’eelis akkana jedhanii deebisan; “Wanni kun WAAQAYYO biraa
dhufe; nu waan hamaa yookaan waan tolaa sitti dubbachuu hin dandeenyu. 51 Kunoo,
Ribqaan fuula kee dura jirti; ishee fudhadhuu deemi; isheenis akkuma WAAQAYYO
dubbatetti niitii ilma gooftaa keetii haa taatu.”
52 Tajaajilaan Abrahaamis yommuu waan isaan jedhan dhaga’etti lafatti gomb-
ifamee WAAQAYYOOF sagade. 53 Kana booddees tajaajilaan sun faaya meetii fi
warqee, uffata adda addaas baasee Ribqaadhaaf kenne; obboleessa isheetii fi haadha
isheetiifis kennaa gatii guddaa baasu kenne. 54 Innii fi namoonni isa wajjin turanis
nyaatanii dhuganii achuma bulan.
Yommuu isaan guyyaa itti aanu ganamaan ka’anitti tajaajilaan sun, “Akka ani gara
gooftaa kootti deebi’uuf na geggeessaa” jedhe.
55 Obboleessi isheetii fi haati ishee garuu, “Intalattiin guyyuma kudhan illee nu bira
haa turtu; ergasiis isheen deemuu dandeessi” jedhan.
56 Inni garuu, “Erga WAAQAYYO karaa koo naa milkeessee isin na hin tursinaa; akka
ani gara gooftaa kootti deebi’uuf na geggeessaa” isaaniin jedhe.
57 Isaanis, “Mee intalattii waamnee waan isheen jettu gaafanna” jedhan. 58 Kana
irratti isaan Ribqaa waamanii, “Namicha kana wajjin deemuu feetaa?” jedhanii ishee
gaafatan.
Isheenis, “Ani nan deema” jette.
59 Kanaafuu isaan obboleettii isaanii Ribqaa fi guddiftuu ishee, tajaajilaa Abra-
haamii fi namoota isaa wajjin geggeessan. 60 Isaanis akkana jedhanii Ribqaa
eebbisan;
“Yaa obboleettii keenya,
kumaa kumaatama ta’i;
sanyiin kee
karra diinota isaa haa dhaalu.”
61 Ribqaa fi tajaajiltuuwwan ishee qophaa’anii gaalawwan isaanii yaabbatanii
namicha faana bu’an; namichis Ribqaa fudhatee deeme.
62 Yeroo sana Yisihaaq boolla bishaanii Be’eer Lahaayiroo’iitii dhufee Negeeb
keessa jiraachaa ture. 63 Innis gaaf tokko gara galgalaa utuu bakkeetti ba’ee waa
yaadaa jiruu oli ilaalee kunoo gaalawwan dhufaa jiran arge. 64 Ribqaanis ol ilaaltee
Yisihaaqin argite; gaala irraas buutee 65 tajaajilaa sanaan, “Namichi nu simachuuf
bakkee keessa as deemaa jiru sun eenyu?” jettee gaafatte.
Tajaajilaan sunis, “Inni gooftaa koo ti” jedhee deebiseef. Kanaafuu haguuggii ishee
fudhattee ofitti haguugde.
66 Tajaajilaan sunis waan hojjete hunda Yisihaaqitti hime. 67 Yisihaaqis dunkaana
haadha isaa Saaraatti ol ishee galfate; Ribqaa fuudhes. Akkasiin isheen niitii isaa
taate; innis ishee jaallate; Yisihaaqis du’a haadha isaa irraa ni jajjabaate.

# 25

*Abrahaam Du’uu Isaa*
*25:1-4 kwf – 1Sn 1:32-33*

1 Abrahaamis niitii biraa kan maqaan ishee Qexuuraa jedhamu fuudhe. 2 Isheenis
Zimraan, Yoqshaan, Medaan, Midiyaan, Yishbaaqii fi Shuwaa isaaf deesse. 3 Yoqshaan

Shebaa fi Dedaan dhalche; ilmaan Dedaan immoo Ashuurim, Letuushimotaa fi
Le'umoota turan. 4 Ilmaan Midiyaan Eefaa, Eefer, Henook, Abiidaa fi Eldaa'aa turan.
Warri kunneen hundi sanyiiwwan Qexuuraa ti.
5 Abrahaam waan qabu hundumaa Yisihaaqiif kenne. 6 Ilmaan saajjatoowwan
isaatiif garuu utuma lubbuun jiruu kennaa kenneefii ilma isaa Yisihaaq biraa gara
biyya ba'a biiftuutti isaan erge.
7 Abrahaam waggaa dhibba tokkoo fi torbaatamii shan jiraate. 8 Innis umurii
dheeraa fi jireenya gaarii jiraatee dulloomee hafuura dhumaa baafatee du'e; saba
isaattis dabalame. 9 Ilmaan isaa Yisihaaqii fi Ishmaa'eel lafa qotiisaa Efroon ilma
Zoohar namicha gosa Heeti sanaa keessatti holqa Makfelaa kan Mamree biratti
argamutti isa awwaalan. 10 Lafti qotiisaa sunis kan Abrahaam Heetota irraa bitatee
dha; Abrahaamis achitti niitii isaa Saaraa biratti awwaalame. 11 Erga Abrahaam du'ee
booddee Waaqni ilma isaa Yisihaaqin eebbise; Yisihaaqis Be'eer Lahaayiroo'ii bira
jiraate.

### *Ilmaan Ishmaa'eel*
*25:12-16 kwf – 1Sn 1:29-31*

12 Seenaan maatii Ishmaa'eel ilma Abrahaam kan Aggaar garbittiin Saaraa intalli
biyya Gibxi sun Abrahaamiif deesse sanaa kana.

13 Maqaan ilmaan Ishmaa'eel kan akkuma dhaloota isaaniitti tartiibaan barreeffame kana:

Nabaayooti ilma Ishmaa'eel hangafticha,
Qeedaar, Adbi'eel, Mibsaami,
14 Mishmaa, Duumaa, Maasaa,
15 Hadaad, Teemaa, Yexuur,
Naafiishii fi Qeedmaa.

16 Jarri kunneen ilmaan Ishmaa'eel; maqaawwan kunneenis akkuma gan-
dootaa fi iddoo qubata isaaniitti maqaawwan bulchitoota gosoota kudha
lamaanii ti.

17 Ishmaa'eel waggaa dhibba tokkoo fi soddomii torba jiraate; innis hafuura
dhumaa baafatee du'e; saba isaattis dabalame. 18 Sanyiin isaa immoo daangaa Gibxi
bira, karaa Asooritti geessu irra, lafa Hawiilaa jalqabee hamma Shuuriitti jiru irra
jiraatan. Isaanis obboloota isaanii hundatti diina ta'anii jiraatan.

### *Yaaqoobii fi Esaawu*

19 Seenaan maatii Yisihaaq ilma Abrahaam kana.

Abrahaam Yisihaaqin dhalche; 20 Yisihaaq yeroo Ribqaa fuudhetti nama waggaa
afurtamaa ture; Ribqaan kunis intala Betuu'eel namicha Arraam kan kaaba dhi'a
Phaadaan Arraamiitii fi obboleettii Laabaa namicha Arraam sanaa ti.
21 Yisihaaq sababii niitiin isaa dhabduu turteef WAAQAYYO isheef kadhate.
WAAQAYYOS kadhannaa isaatiif deebii kennee niitiin isaa Ribqaani ulfoofte.
22 Daa'immanis garaa ishee keessatti wal dhiibaa turan; isheenis, "Wanni kun maaliif
natti dhufe?" jette; kanaafuu WAAQAYYO gaafachuu dhaqxe.
23 WAAQAYYO immoo akkana jedheen;
"Saboota lamatu gadameessa kee keessa jira;
uummanni lamaan ati deessus gargari ba'u;
sabni tokko saba kaan irra ni jabaata;

inni hangafni isa quxisuu tajaajila.”
24 Yeroo da’umsi ishee ga’etti ilmaan lakkuutu gadameessa ishee keessa ture.
25 Mucaan jalqabatti dhalate diimaa dha; dhagni isaa guutuun uffata rifeensa qabu
fakkaata ture; kanaafuu Esaawu jedhanii isa moggaasan. 26 Kana booddee obboleessi
isaa koomee Esaawu harkaan qabatee gad ba’e; maqaan isaas Yaaqoob jedhame.
Yeroo Ribqaan isaan deessetti, Yisihaaq nama waggaa jaatamaa ture.
27 Ijoolleen kunis ni guddattan; Esaawu adamsaa beekamaa fi nama bakkee ooluu
ta’e; Yaaqoob garuu nama cal’isaa dunkaana keessa oolu ta’e. 28 Yisihaaq waan foon
bineensa bosonaa mi’eeffateef Esaawun jaallate; Ribqaan garuu Yaaqoobin jaallatte.
29 Gaaf tokko utuu Yaaqoob ittoo qopheessaa jiruu Esaawu akka malee beela’ee
bakkeedhaa dhufe. 30 Innis Yaaqoobiin, “Ani akka malee beela’eeraatii, mee ittoo
diimaa sana irraa xinnoo naa kenni!” jedhe. Sababiin inni Edoom jedhameefis
kanuma.
31 Yaaqoob immoo deebisee, “Dura mirga hangafummaa keetii natti gurguri kaa”
jedhe.
32 Esaawus, “Kunoo, ani du’uu ga’eera; yoos mirgi hangafummaa maal na fayyada
ree?” jedhe.
33 Yaaqoob garuu, “Duraan dursii naa kakadhu” jedheen; akkasiin inni kakatee
mirga hangafummaa isaa Yaaqoobitti gurgurate.
34 Ergasiis Yaaqoob buddeenaa fi ittoo misiraa Esaawuuf kenne; innis nyaatee
dhugee ka’ee achii deeme.
Esaawus akkasiin mirga hangafummaa isaa tuffate.

# 26

*Yisihaaqii fi Abiimelek*
*26:1-11 kwi – Uma 12:10-20; 20:1-18*

1 Beela isa bara Abrahaam biyyichatti bu’e sana malee beelli biraa tokko ammas
biyya sanatti bu’e; Yisihaaqis gara Geraaraa gara Abiimelek mooticha Filisxeem
dhaqe. 2 WAAQAYYOS Yisihaaqitti mul’atee akkana jedhe; “Biyya ani akka ati keessa
jiraattuuf sitti himu keessa jiraadhu malee Gibxitti gad hin bu’in. 3 Biyyuma kana
jiraadhu; ani si wajjin nan ta’a; sin eebbisas; biyya kana hunda sii fi sanyii keetiif
nan kennaatii. Ani kakuun abbaa kee Abrahaamiif kakadhe sana nan guuta. 4 Ani
akkuma urjiiwwan samii sanyii kee nan baay’isa; biyya kana hundas isaaniif nan
kenna; saboonni lafa irra jiran hundinuus karaa sanyii keetiitiin eebbifamu. 5 Kunis
waan Abrahaam dubbii koo dhaga’ee fedhii koo, ajaja koo, labsii kootii fi seera koo
eegeef.” 6 Yisihaaqis Geraaraa keessa jiraate.
7 Innis yommuu namoonni biyya sanaa waa’ee niitii isaa isa gaafatanitti waan
Ribqaan bareedduu taateef, “Namoonni naannoo kanaa sababii isheetiif na ajjeesu
ta’a” jedhee yaaduudhaan, “Isheen niitii koo ti” jechuu sodaatee, “Isheen obboleettii
koo ti” jedhe.
8 Erga Yisihaaq yeroo dheeraa achi jiraatee booddee, Abiimelek mootichi Filisx-
eemii foddaa keessaan gad ilaale; utuu Yisihaaq niitii isaa Ribqaa hooqsuu arge.
9 Abiimelekis Yisihaaqin ofitti waamee, “Isheen dhugumaan niitii kee ti! Yoos ati
maaliif, ‘Isheen obboleettii koo ti’ jette ree?” jedheen.
Yisihaaqis, “Waan ani sababii isheetiif lubbuu koo nan dhaba ta’a jedhee yaadeef”
jedhee deebiseef.
10 Abiimelek immoo, “Wanni ati nutti hojjette kun maali? Utuu namoota kanneen
keessaa tokko niitii kee wajjin ciisee jiraatee silaa ati yakka nutti fiddee turte”
jedheen.

11 Kana irratti Abiimelek, “Namni namicha kana yookaan niitii isaa tuqu kam iyyuu
dhugumaan ajjeefamuu qaba” jedhee nama hundaaf ajaja kenne.

12 Yisihaaqis biyya sanatti midhaan facaafatee waan Waaqayyo isa eebbiseef
baruma sana keessa dachaa dhibba galfate. 13 Innis ni hore; hamma akka malee
sooromuttis qabeenyi isaa ittuma fufee baay’ate. 14 Innis bushaayee, loowwanii
fi hojjettoota hedduu qaba ture; Filisxeemonnis isatti hinaafan. 15 Kanaafuu
Filisxeemonni boolla bishaanii hojjettoonni abbaa isaa bara Abrahaam keessa qotan
hundatti biyyoo naqanii duuchan.

16 Abiimelekis Yisihaaqiin, “Ati baay’ee nu caalaa jabaatteertaatii nurraa deemi”
jedhe.

17 Yisihaaq achii ka’ee sulula Geraaraa keessa qubatee achi jiraate. 18 Yisihaaqis
boollawwan bishaanii bara abbaa isaa bara Abrahaam keessa qotaman kanneen
Filisxeemonni erga Abrahaam du’ee booddee duuchan sana deebisee bane; innis
maquma abbaan isaa kenneefii ture sanaan isaan waame.

19 Tajaajiltoonni Yisihaaq sulula sana keessatti lafa qotanii boolla bishaan burquu
argatan. 20 Tiksoonni Geraaraa, “Bishaan kun kan keenya!” jedhanii tiksoota
Yisihaaq wajjin wal lolan. Kanaafuu inni sababii wal falmaniif boolla bishaanii sana,
“Eeseeq” jedhee moggaase. 21 Ergasiis boolla bishaanii biraa qotan; isaan garuu
boolla bishaanii sana irrattis wal lolan; kana irratti Yisihaaq boolla bishaanii sana
“Sixinaa” jedhee moggaase. 22 Innis achii ka’ee iddoo biraa dhaqee boolla bishaanii
biraa achitti qote; namni tokko iyyuu isa irratti wal hin lolle. Innis, “Waaqayyo
amma iddoo bal’aa nuu kenneera; nu biyyattii keessatti ni baay’anna” jechuudhaan
Rehooboot jedheen.

23 Innis achii ka’ee gara Bersheebaatti ol ba’e. 24 Waaqayyos halkanuma sana isatti
mul’atee akkana jedheen; “Ani Waaqa abbaa kee Abrahaam; ani waan si wajjin jiruuf
hin sodaatin. Garbicha koo Abrahaamiif jedhees ani sin eebbisa; sanyii kees nan
baay’isa.”

25 Yisihaaq achitti iddoo aarsaa ijaaree maqaa Waaqayyoo waammate. Dunkaana
isaas achi dhaabbate; tajaajiltoonni isaas iddoo sanatti boolla bishaanii qotatan.

26 Ergasiis Abiimelek gorsaa isaa Ahuzaatii fi ajajaa loltoota isaa Fiikool wajjin
Geraaraadhaa ka’ee gara Yisihaaq dhufe. 27 Yisihaaq immoo, “Isin erga na jibbitanii
of biraa na ariitanii maaliif gara koo dhuftan?” isaaniin jedhe.

28 Isaanis akkana jedhanii deebisan; “Nu akka Waaqayyo si wajjin jiru ifaan ifatti
argineerra; kanaafuu nu, ‘Kakuun walii galtee gidduu keenya jechuunis nuu fi si
gidduu jiraachuu qaba’ jenne; mee kottu si wajjin walii galtee godhannaa. 29 Kunis
akkuma nu utuu waan gaarii malee waan hamaa sirraan hin ga’in nagaan of irraa si
geggeessine sana akka atis nu hin miineef. Ati amma illee nama Waaqayyo eebbisee
dha.”

30 Yisihaaqis nyaata isaaniif qopheesse; isaanis ni nyaatan; ni dhuganis.
31 Namoonni sun guyyaa itti aanu ganama barraaqa ka’anii walii kakatan. Yisihaaqis
isaan geggeesse; jarris nagumaan isa biraa deeman.

32 Guyyuma sana hojjettoonni Yisihaaq dhufanii waa’ee boolla bishaanii qotan
sanaa isaatti himan. Isaanis, “Nu bishaan arganneerra!” jedhan. 33 Innis boolla
bishaanii sana, “Shibe’aa” jedhee moggaase. Hamma har’aatti maqaan magaalaa
sanaa Bersheebaa jedhama.

34 Esaawu yeroo umuriin isaa waggaa afurtama guuteetti Yoodiiti intala Bi’eer
namicha gosa Heeti akkasumas Baasmati intala Eeloon namicha gosa Heeti fuudhe.
35 Isaanis Yisihaaqii fi Ribqaa gaddisiisan.

# 27

*Yisihaaq Yaaqoobin Eebbise*

1 Yisihaaq dulloomee yeroo iji isaa arguu dadhabetti ilma isaa hangafa Esaawun
ofitti waamee, “Yaa ilma koo” jedheen.

Innis, “Kunoo asan jira” jedhee deebise.

2 Yisihaaq akkana jedhe; “Kunoo, ani dulloomeera; guyyaa du’a koo hin beeku.
3 Kanaafuu maaloo mi’a adamoo keetii jechuunis korojoo xiyya keetii fi iddaa kee
qabadhuutii gara dirreetti ba’iitii bineensa naa adamsi. 4 Akka ani utuun hin du’iniin
dura si eebbisuuf, nyaata mi’aawaa gosa ani jaalladhu naa qopheessiitii akka ani
nyaadhuuf naa dhi’eessi.”

5 Yommuu Yisihaaq ilma isaa Esaawutti dubbatetti Ribqaan ni dhaggeeffatti turte.
Yeroo Esaawu bineensa adamsee fiduuf gara dirreetti gad ba’etti, 6 Ribqaan ilma ishee
Yaaqoobiin akkana jette; “Kunoo, ani utuu abbaan kee obboleessa kee Esaawutti
dubbatuu dhaga’eera; 7 innis, ‘Akka ani utuun hin du’in fuula Waaqayyoo duratti
si eebbisuuf bineensa adamsii fidiitii akka ani nyaadhuuf nyaata mi’aawu naa
qopheessi’ jedheen. 8 Egaa yaa ilma ko, akkuma ani si ajajutti dubbii koo dhaga’i.
9 Ani akkan abbaa keetiif akkuma inni jaallatutti nyaata mi’aawaa qopheessuuf gara
bushaayee dhaqiitii ilmoolee re’ee filatamoo lama naa fidi. 10 Akka inni nyaatee utuu
hin du’in si eebbisuuf abbaa keetiif nyaata dhi’eessi.”

11 Yaaqoobis haadha isaa Ribqaadhaan akkana jedhe; “Kunoo, obboleessi koo
Esaawu dabbasaa’aa dha; ani garuu rifeensa hin qabu. 12 Yoo abbaan koo na
qaqqabatee waan ani isa gowwoomse se’e, ani qooda eebbaa abaarsa ofitti nan fida.”

13 Haati isaa immoo, “Yaa ilma ko, abaarsi sun naaf haa ta’u; ati waanuma ani siin
jedhe godhi; dhaqiitii re’oota sana naa fidi” jetteen.

14 Innis dhaqee ilmoolee re’ootaa sana qabee haadha isaatiif fide; isheen immoo
akkuma abbaan isaa jaallatutti nyaata mi’aawu qopheessiteef. 15 Ergasiis Ribqaan
uffata Esaaw ilma ishee hangaftichaa kan ishee bira ture keessaa kan hunda irra
bareedu fuutee Yaaqoob ilma ishee isa quxisuu sanatti uffifte. 16 Harka isaatii fi
morma isaa iddoo rifeensa hin qabnetti gogaa re’ootaa uffifte. 17 Ergasiis nyaata
mi’aawaa fi buddeena qopheessitee turte sana ilma ishee Yaaqoobitti kennite.

18 Innis gara abbaa isaa dhaqee, “Yaa abbaa koo” jedhe.

Innis, “Yaa ilma ko, kunoo asan jira; ati eenyu?” jedhee deebise.

19 Yaaqoobis abbaa isaatiin akkana jedhe; “Ani Esaawu ilma kee isa hangafticha;
akkuma ati natti himte sana godheera; akka na eebbiftuuf mee ol jedhiitii waan ani
adamsee fide nyaadhu.”

20 Yisihaaq ilma isaatiin, “Yaa ilma ko, akkamitti akkana daftee argatte?” jedhe.

Yaaqoob immoo, “Waaqayyo Waaqa keetu na milkoomse” jedhee deebise.

21 Yisihaaqis Yaaqoobiin, “Akka ani si qaqqabadhee ilma koo Esaaw ta’uu fi ta’uu
baachuu kee beekuuf mee as dhi’aadhu” jedhe.

22 Yaaqoobis abbaa isaa Yisihaaqitti dhi’aate; abbaan isaas isa qaqqabatee,
“Sagaleen kun sagalee Yaaqoob; harki kun garuu harka Esaawu” jedhe. 23 Waan
harki isaa akkuma harka Esaawu rifeensa qabuuf Yisihaaq gargar baasee isa beekuu
hin dandeenye; kanaafuu isa eebbise. 24 Innis, “Ati dhugumaan ilma koo Esaawuu?”
jedhee gaafate.

Inni immoo, “Eeyyee ani isuma” jedhee deebise.

25 Yisihaaqis, “Yaa ilma ko, akka ani nyaadhee si eebbisuuf mee waan adamsitee
fidde sana naa kenni” jedhe.

Yaaqoob ni dhi’eesseef; innis ni nyaate; daadhii wayiniis ni fideef; innis ni dhuge.
26 Abbaan isaa Yisihaaqis, “Yaa ilma koo as kottuu na dhungadhu” jedheen.

27 Innis itti dhi'aatee isa dhungate. Yisihaaqis foolii wayyaa isaa suufee isa eebbise;
akkanas jedhe;
"Ilaa, fooliin ilma koo,
akkuma foolii lafa qotiisaa
WAAQAYYO eebbisee ti.
28 Waaqni fixeensa samii,
lafa gabbataa, midhaanii fi
wayinii akka malee baay'atu siif haa kennu.
29 Saboonni si haa tajaajilan;
uummannis siif haa sagadan.
Obboloota kee irratti gooftaa ta'i;
ilmaan haadha keetiis siif haa sagadan.
Warri si abaaran haa abaaraman;
warri si eebbisan immoo haa eebbifaman."
30 Akkuma Yisihaaq Yaaqoobin eebbisee fixee Yaaqoob immoo fuula abbaa isaa
fuula Yisihaaq duraa gad ba'een, obboleessi isaa Esaawu adamoodhaa dhufee ol gale.
31 Innis nyaata mi'aawaa qopheessee abbaa isaatiif fide; abbaa isaatiinis, "Yaa abbaa
ko, ati akka na eebbiftuuf ol jedhiitii waan ani ilmi kee adamsee fide nyaadhu" jedhe.
32 Abbaan isaa Yisihaaqis, "Ati eenyu?" jedhee isa gaafate.

Innis, "Ani ilma kee Esaawu hangafticha" jedhe.

33 Yommus Yisihaaq akka malee hollachaa, "Yoos namni waa adamsee naa fide
eenyu ree? Ani utuu ati hin dhufin hunduma isaa nyaadheen isa eebbise; inni
dhugumaan ni eebbifama!" jedhe.
34 Esaawu yommuu waan abbaan isaa dubbate dhaga'etti, abbaa isaatiin, "Yaa
abbaa ko, anas eebbisi!" jedhee sagalee ol fudhatee hiqqifatee boo'e.
35 Yisihaaq garuu, "Obboleessi kee haxxummaadhaan dhufee eebba kee fudha-
teera" jedhe.
36 Esaawus, "Maqaan isaa iyyuu dhugumaan Yaaqoob jedhama mitii? Inni kana
wajjin yeroo lama na gowwoomsuu isaa ti; jalqabatti hangafummaa koo narraa
fudhate; amma immoo eebba koo fudhateera" jedhe. Ergasiis inni, "Ati eebba tokko
illee naa hin hambifnee ree?" jedhee gaafate.
37 Yisihaaq immoo akkana jedhee Esaawuuf deebise; "Kunoo ani akka inni sirratti
gooftaa ta'uu fi akka firoonni isaa hundi tajaajiltoota isaa ta'an godheera; akka inni
midhaanii fi daadhii wayinii qabaatuufis isa eebbiseera. Egaa yaa ilma koo ani maal
siif gochuun danda'a?"
38 Esaawus abbaa isaatiin, "Yaa abbaa ko, ati eebbuma tokko qofa qabdaa? Yaa
abbaa ko, anas eebbisi!" jedhe. Esaawus sagalee ol fudhatee boo'e.
39 Abbaan isaa Yisihaaqis akkana jedhee deebiseef;
"Iddoon jireenya keetii
lafa gabbataa irraa ni fagaata;
fixeensa samii gubbaa irraas ni fagaata.
40 Ati goraadeedhaan jiraatta;
obboleessa kees ni tajaajilta.
Yeroo isaan mormitutti garuu
waanjoo isaa cabsitee
morma kee irraa buufta."

### *Yaaqoob gara Laabaatti baqate*

41 Esaawu sababii abbaan isaa Yaaqoobin eebbiseef Yaaqoobitti haaloo qabate.
Innis garaa isaatti, "Yeroon itti abbaa kootiif boo'an dhi'aateera; anis yeroo sana
obboleessa koo Yaaqoobin nan ajjeesa" jedhee yaade.

42 Yommuu wanni Esaawu ilmi ishee hangaftichi jedhe isheetti himametti Ribqaan
Yaaqoob ilma ishee quxisuu waamsiftee akkana jetteen; “Kunoo, obboleessi kee
Esaawu si ajjeesee garaa isaa qabbaneeffachuu barbaada. 43 Kanaafuu yaa ilma koo
na dhaga’i; ka’iitii gara obboleessa koo Laabaa kan Kaaraan keessa jiraatu sanaatti
baqadhu. 44 Hamma aariin obboleessa keetii qabbanaa’utti yeroo gabaabaaf isa bira
turi. 45 Yommuu aariin obboleessa keetii qabbanaa’ee innis waan ati isa goote sana
irraanfatutti ani dhaamsa sitti ergee achii sin fichisiisa. Ani maaliifan guyyaa tokkotti
isin lachuu dhaba?”
46 Ribqaanis Yisihaaqiin akkana jette; “Ani sababii dubartoota Heetotaa kanneeniif
jiraachuu jibbeera. Yoo Yaaqoob dubartoota biyya kanaa jechuunis dubartoota
Heetotaa kanneen keessaa niitii fuudhe, jireenyi koo maal anaaf godha ree!”

# 28

1 Yisihaaqis Yaaqoobin waamee eebbisee akkana jedhee isa ajaje: “Intallan warra
Kana’aan keessaa hin fuudhin. 2 Ammuma ka’iitii gara kaaba dhi’a Phaadaan Arraam
mana abbaa haadha keetii mana Betuu’eel dhaqi. Achiis intallan obboleessa haadha
keetii intallan Laabaa keessaa tokko fuudhi. 3 Waaqni Waan Hunda Danda’u sun si
haa eebbisu; sanyii siif haa kennu; akka ati saba bal’aa taatuufis si haa baay’isu.
4 Ati biyya amma alagummaadhaan keessa jiraattu, biyya Waaqni dhaala godhee
Abrahaamiif kenne sana akka dhaaltuuf inni eebba Abrahaamiif kenne sii fi sanyii
keetiif haa kennu.” 5 Yisihaaqis akkasitti Yaaqoobin erge; Yaaqoobis gara kaaba
dhi’a Phaadaan Arraam gara Laabaa ilma Betuu’eel namicha Arraam sanaa dhaqe;
Laabaan kun immoo obboleessa Ribqaa, haadha Yaaqoobii fi Esaawu.
6 Esaawu akka Yisihaaq Yaaqoobin eebbisee akka inni achii niitii fuudhuuf gara
kaaba dhi’a Phaadaan Arraamitti isa ergee fi akka isa eebbisettis “Intallan warra
Kana’aan hin fuudhin” jedhee isa ajaje yommuu beeketti; 7 Yaaqoob abbaa fi haadha
isaatiif ajajamee gara kaaba dhi’a Phaadaan Arraam dhaqe. 8 Esaawus intallan
warra Kana’aan fuula abbaa isaa Yisihaaq duratti hammam jibbamoo akka ta’an
hubate. 9 Kanaafuu Esaaw gara Ishmaa’eel ilma Abrahaam dhaqee Maahalaati intala
Ishmaa’eel obboleettii Nabaayoti niitota dur qabu irratti dabalee fuudhe.

### *Abjuu Yaaqoob Beet’eelitti Abjoote*

10 Yaaqoob Bersheebaa ba’ee Kaaraan dhaqe. 11 Innis iddoo tokko ga’ee aduun
dhiinaan achi bule; dhagoota achi turan keessaas tokko fudhatee mataa jala kaa’atee
rafuuf ciise. 12 Innis achitti abjuu abjoote; kunoo yaabbannoo lafa dhaabatee fiixeen
isaa immoo samii ga’u tokko arge; kunoo ergamoonni Waaqayyoo yaabbannoo sana
irra ol ba’aa fi gad bu’aa turan. 13 Kunoo Waaqayyo yaabbannoo sana gara irraa
dhaabatee akkana jedhe; “Ani Waaqayyo Waaqa abbaa kee Abrahaamii fi Waaqa
Yisihaaq; ani lafa ati irra ciiftu kana siif fi sanyii keetiif nan kenna. 14 Sanyiin kee
akkuma biyyoo lafaa ni baay’ata; atis gara dhi’aatti, gara ba’aatti, gara kaabaattii fi
kibbaatti ni babal’atta. Uummanni lafa irraa hundinuu karaa keetii fi karaa sanyii
keetiitiin ni eebbifama. 15 Kunoo ani si wajjinan jira; lafa ati dhaqxu hundattis sin
eega; gara biyya kanaattis deebisee sin fida. Ani hamman waanan waadaa siif gale
sana siif guututti si hin dhiisu.”
16 Yaaqoobis yommuu hirribaa ka’etti, “Dhugumaan Waaqayyo iddoo kana jira;
ani waan kana hin hubanne” jedhe. 17 Innis sodaatee, “Iddoon kun akkam nama
sodaachisa! Kun mana Waaqaa ti malee waan biraa miti; kun karra samiiti” jedhe.
18 Yaaqoobis guyyaa itti aanu ganama obboroo ka’ee dhagaa mataa jala kaa’atee
ture sana fuudhee akka utubaatti ol dhaabe; fiixee isaa irrattis zayitii dhangalaase.
19 Innis maqaa iddoo sanaa Beet’eel jedhee moggaase; duraan garuu magaalaan sun
Luuzi jedhama ture.

20 Ergasiis Yaaqoob akkana jedhee wareege; “Yoo Waaqni na wajjin ta’e, yoo inni
karaa ani deemu kana irratti na eege, yoo waan ani nyaadhuu fi waan ani uffadhu
naa kenne, 21 yoo ani nagaan mana abbaa kootti deebi’e, WAAQAYYO Waaqa koo ni
ta’a; 22 dhagaan ani utubaa godhee ol dhaabe kunis mana Waaqaa ta’a; waan ati naa
kennitu keessaas kudhan keessaa tokko siifin kenna.”

# 29

*Yaaqoob Phaadaan Arraam Ga’e*

1 Yaaqoobis karaa isaa itti fufee gara warra biyya ba’aa dhufe. 2 Innis ilaalee kunoo
boolla bishaanii tokko dirree irratti arge; kunoo karri hoolotaa sadii sababii achii
bishaan dhuganiif boolla bishaanii sana bira ciciisaa turan. Dhagaan afaan boolla
bishaanii sanaa irra ture guddaa ture. 3 Yeroo karri hoolotaa hundi achitti walitti
qabamanitti tiksoonni afaan boolla bishaanii irraa dhagaa gangalchanii hoolota
bishaan obaasu turan. Ergasii immoo dhagaa sana iddoo isaatti deebisanii afaan
boolla bishaanii irra kaa’u turan.

4 Yaaqoobis tiksoota sanaan, “Yaa obboloota ko, isin warra eessaati?” jedhee
gaafate.

Isaanis, “Nu warra Kaaraaniiti” jedhanii deebisan.

5 Innis, “Laabaa ilma Naahoor beektuu?” jedheen.

Jarris, “Eeyyee, beekna” jedhanii deebisan.

6 Yaaqoob immoo, “Inni fayyumaa?” jedhee isaan gaafate.

Isaanis, “Eeyyee, fayyuma; kunoo intalli isaa Raahel iyyuu hoolota fiddee dhufaa jirti” jedhaniin.

7 Innis, “Kunoo, amma lafti guyyaa dha; yeroo itti hoolonni walitti qabaman miti.
Hoolota bishaan obaasaatii dhaqaa dheechisaa” jedheen.

8 Isaanis, “Nu hamma karri hoolotaa hundinuu walitti qabamanii dhagaan sun
afaan boolla bishaanii irraa gangalfamutti hin dandeenyu; ergasii hoolota bishaan
obaafna” jedhanii deebisan.

9 Utuma inni jara wajjin haasa’aa jiruu, Raahel waan tiksee turteef hoolota abbaa
ishee ooftee dhufte. 10 Yaaqoob yommuu Raahel, intala obboleessa haadha isaa
intala Laabaatii fi hoolota Laabaa argetti dhaqee dhagaa afaan boolla bishaanii irraa
gangalchee hoolota eessuma isaa bishaan obaase. 11 Yaaqoobis Raaheliin dhungate;
sagalee ol fudhatees boo’e. 12 Inni fira abbaa ishee akka ta’ee fi ilma Ribqaa akka ta’e
Raahelitti hime; isheenis fiigaa dhaqxee abbaa isheetti himte.

13 Laabaan akkuma waa’ee ilma obboleettii isaa waa’ee Yaaqoob dhaga’een isa
simachuuf ariifatee ba’e. Innis erga hammatee dhungatee booddee mana isaatti
fudhatee gale; Yaaqoobis waan kana hunda Laabaatti hime. 14 Laabaan immoo, “Ati
dhugumaan foon kootii fi dhiiga koo ti” jedheen.

*Yaaqoob Liyaa fi Raahelin Fuudhe*

Yaaqoob erga ji’a tokko guutuu Laabaa wajjin turee booddee, 15 Laabaan akkana
isaan jedhe; “Ati sababii fira koo taateef tola naa hojjechuu qabdaa? Mindaan kee
akka hammam ta’uu qabu natti himi.”

16 Laabaan intallan lama qaba ture; maqaan ishee hangafaa Liyaa ture; maqaan
ishee quxisuu immoo Raahel jedhama ture. 17 Iji Liyaa dadhabaa ture; Raahel garuu
bareedduu fi simboo qabeettii turte. 18 Yaaqoob Raahelin jaallatee, “Ani waa’ee intala
kee ishee quxisuu, Raaheliif jedhee waggaa torba sin tajaajila” jedheen.

19 Laabaan immoo, “Nama biraaf ishee kennuu irra siif kennuu naa wayya; asuma
na bira turi” jedhe. 20 Kanaafuu Yaaqoob Raahelin argachuuf jedhee waggaa torba

tajaajile. Inni waan ishee jaallateef waggoonni kunneen guyyoota muraasa isatti
fakkaatan.
21 Yaaqoobis Laabaadhaan, “Waan yeroon koo xumurameef akka ani ishee bira
ga’uuf niitii koo naa kenni” jedhe.
22 Kanaafuu Laabaan namoota iddoo sana jiran hunda walitti qabee cidha
qopheesse. 23 Garuu yeroo lafti galgalaa’etti intala isaa Liyaa fidee Yaaqoobiif kenne;
Yaaqoobis ishee bira ga’e. 24 Laabaanis akka isheen hojjettuu ishee taatuuf garbittii
isaa Zilfaa, intala isaa Liyaadhaaf kenne.
25 Yommuu lafti bari’etti kunoo Liyaa ta’uun ishee beekame! Yaaqoobis Laabaad-
haan, “Wanni ati na goote kun maali? Ani Raaheliif jedhee si hin tajaajillee? Yoos ati
maaliif na gowwoomsite ree?” jedhe.
26 Laabaanis akkana jedhee deebise; “Biyya keenya keessatti intala hangafa dura
intala quxisuu heerumsiisuun duudhaa keenya miti. 27 Torban misirrummaa intala
kanaa raawwadhu; ergasii yoo ati waggaa biraa torba naaf hojjette quxisuu ishees
siif kennina.”
28 Yaaqoobis akkasuma godhe. Torban sanas Liyaa wajjin dabarse; ergasiis Laabaan
intala isaa Raahelin isatti heerumsiise. 29 Laabaan akka isheen hojjettuu ishee taatuuf
xomboree isaa Bilihaa, intala isaa Raaheliif kenne. 30 Yaaqoobis Raahel bira ga’e;
innis Liyaa caalaatti Raahelin jaallate. Waggoota biraa torbas Laabaaf hojjete.

### *Ijoollee Yaaqoob*

31 WAAQAYYO yommuu akka Liyaan hin jaallatamin argetti gadameessa ishee
baneef; Raahel garuu dhabduu turte. 32 Liyaan ulfooftee ilma deesse. Isheenis waan,
“WAAQAYYO dhiphina koo argeeraatii dhugumaan si’achi dhirsi koo na jaallata” jetteef
maqaa isaa Ruubeen jettee moggaafte.
33 Isheen ammas yommuu ulfooftee ilma deessetti, “WAAQAYYO sababii akka ani
hin jaallatamin dhaga’eef ilma kanas naa kenne” jettee maqaa isaa Simi’oon jettee
moggaafte.
34 Ammas ulfooftee ilma deesse; isheenis, “Sababii ani ilmaan sadii isaaf da’eef
amma dhirsi koo natti maxxana” jette; kanaafuu mucaan sun Lewwii jedhamee
moggaafame.
35 Ammas isheen ulfooftee ilma deesse; isheenis, “Amma WAAQAYYO nan galate-
effadha” jette. Kanaafuu maqaa isaa Yihuudaa jettee moggaafte. Ergasiis da’uu ni
dhiifte.

## 30

1 Raahel yommuu akka Yaaqoobiif ijoollee tokko iyyuu hin da’in argitetti obboleettii
isheetti hinaafte. Yaaqoobiinis, “Ijoollee naa kenni, yoo kanaa achii nan du’a!” jette.
2 Yaaqoobis isheetti aaree, “Anatu iddoo Waaqa isa ijoollee si dhowwate sanaa jira
moo?” jedheen.
3 Isheenis, “Xomboreen koo Bilihaan kunoo ti; akka isheen qooda koo ijoollee naaf
deessee anis karaa isheetiin ijoollee argadhuuf dhaqii ishee bira ga’i” jette.
4 Isheenis xomboree ishee Bilihaa akka niitii isaa taatuuf kenniteef. Yaaqoobis ishee
bira ga’e; 5 isheenis ulfooftee ilma isaaf deesse. 6 Kana irratti Raahel, “Waaqni naa
murteesseera; kadhannaa koos dhaga’ee ilma naa kenneera” jette. Kanaafuu maqaa
isaa Daan jettee moggaafte.
7 Xomboreen Raahel Bilihaan ammas ulfooftee Yaaqoobiif ilma lammaffaa deesse.
8 Raahelis, “Ani obboleettii koo wal’aansoo guddaa qabee mo’adheera” jette. Maqaa
isaa Niftaalem jettee moggaafte.

9 Liyaan akka ijoollee da’uu dhiifte hubatte; xomboree ishee Zilfaa fuutee akka niitii
isaa taatuuf Yaaqoobiif kennite. 10 Xomboreen Liyaa Zilfaanis Yaaqoobiif ilma deesse.
11 Liyaan immoo, “Maal milkiin akkanaa!” jettee maqaa isaa Gaad jettee moggaafte.

12 Xomboreen Liyaa Zilfaan Yaaqoobiif ilma lammaffaa deesse. 13 Ergasiis Liyaan,
“Ani akkaman gammade! Dubartoonnis, ‘Eebbifamtuu’ naan jedhu” jette. Kanaafuu
maqaa isaa Aasheer jettee moggaafte.

14 Yeroo haamaa qamadiitti Ruubeen gara bakkeetti ba’ee ija hudhaa argatee
haadha isaa Liyaadhaaf fide. Raahelis Liyaadhaan, “Maaloo ija hudhaa ilma keetii
irraa waa naa kenni” jette.

15 Liyaan immoo, “Dhirsa koo narraa fudhachuun kee sitti xinnaatee? Hudhaa ilma
koos ni fudhattaa?” jetteen.

Raahelis, “Qooda hudhaa ilma keetii inni edana si wajjin haa bulu” jetteen.

16 Gaafa sana galgala yeroo Yaaqoob lafa qotiisaatii galetti Liyaan isa simachuuf
gad baatee, “Waan ani hudhaa ilma kootiin si kireeffadheef ati har’a na wajjin bulu
qabda” jetteen. Yaaqoobis halkan sana ishee wajjin bule.

17 Waaqnis Liyaa dhaga’e; isheenis ulfooftee Yaaqoobiif ilma shanaffaa deesse.
18 Liyaanis, “Waan ani xomboree koo dhirsa kootiif kenneef Waaqni gatii koo naa
baaseera” jette. Kanaafuu Yisaakor jettee isa moggaafte.

19 Liyaan ammas ulfooftee Yaaqoobiif ilma ja’affaa deesse. 20 Liyaanis, “Waaqni
kennaa gaarii naaf kenneera; sababii ani ilmaan ja’a isaaf da’eef dhirsi koo si’achi
ulfina naa kenna” jette. Kanaafuu maqaa isaa Zebuuloon jettee moggaafte.

21 Ergasiis intala tokko deessee Diinaa jettee moggaafte.

22 Waaqnis Raahelin yaadate; kadhannaa ishees dhaga’ee gadameessa ishee baneef.
23 Isheenis ulfooftee ilma deessee, “Waaqni qaanii koo narraa fuudheera” jette.
24 Isheenis maqaa isaa Yoosef jettee moggaaftee, “WAAQAYYO ilma biraa naaf haa
dabalu” jette.

### *Yaaqoob Hoolota Hore*

25 Erga Raahel Yoosefin deessee booddee Yaaqoob Laabaadhaan akkana jedhe;
“Akka ani biyya dhalootaa kootti deebi’uuf, gad na dhiisi. 26 Ani nan deemaatii niitota
koo fi ijoollee koo warra ani isaaniif jedhee siif tajaajile naa kenni. Akka ani hojii
baay’ee siif hojjedhe ati iyyuu beekta.”

27 Laabaan garuu akkana jedheen; “Maaloo yoo ani fuula kee duratti fudhatama
argadhee jiraadhe asuma turi; ani akka WAAQAYYO sababii keetiin na eebbise
mul’ataan beekeeraatii.” 28 Itti fufees, “Mee mindaa ani siif kaffaluu qabu natti himi;
ani siifin kaffalaatii” jedhe.

29 Yaaqoobis akkana jedheen; “Akka ani hammam siif hojjedhe, horiin kees
hammam akka harka kootti baay’ate atuu ni beekta. 30 Wanni xinnaan ati utuu ani
hin dhufin dura qabdu sun amma akka malee siif baay’ateera; lafa ani ture kamitti
iyyuu WAAQAYYO si eebbiseera. Garuu yeroon ani itti maatii kootiif yaadu yoomi ree?”

31 Innis, “Wanni ani siif kennu maali ree?” jedhee gaafate.

Yaaqoob immoo akkana jedhee deebise; “Homaa naaf hin kennin; garuu yoo
ati waan kana naaf goote ani ittuma fufee bushaayee kee nan tiksa; nan eegas;
32 ani har’a bushaayee kee hunda keessa ba’ee hoolota cocorree fi buburree hunda,
hoolaa magaalaa fi re’oota cocorree yookaan buburree hunda addaan nan baasa;
isaan kunneen mindaa koo ta’u. 33 Yeroo ati mindaa naa kennite sana to’achuu
dhuftutti, amanamummaan koo dhugaa naa ba’a. Hoolotaa fi re’oota koo keessatti
re’een cocorree yookaan buburree hin ta’in kam iyyuu, hoolaa keessaa immoo kan
gurraacha hin ta’in kam iyyuu yoo argame akka waan hatameetti haa ilaalamu.”

[34] Laabaanis, “Tole, akkuma ati jette haa ta’u” jedhe. [35] Guyyuma sana Laabaan
korbeeyyii re’ee halluu qaxxaamuroo qabanii fi buburree hunda, goromii re’ee
cocorree fi buburree kanneen adaadii qaban hunda, akkasumas hoolota gugurraacha
hunda fuudhee ilmaan isaatti kenne. [36] Innis ofii isaatii fi Yaaqoob gidduutti lafa
adeemsa guyyaa sadii hambise; Yaaqoob immoo bushaayee Laabaa kanneen hafan
tiksuu itti fufe.
[37] Yaaqoobis damee alaltuu, kan looziitii fi hadheessa jiidhaa isaa darbee darbee
naannessee qoola isaa irraa quncisuudhaan dhagna mukichaa isa keessaa adii sana
mul’ise. [38] Yaaqoobis yeroo bushaayeen sun bishaan dhuguuf dhufanitti damee
qolli irraa quncifame sana fuula isaanii dura bidiruu bishaan itti obaasan keessa
kaa’e. Bushaayeen yeroo sun bishaan dhuguu dhufanitti gojoma’anii [39] ulee sana
duratti wal hobobsu turan; isaanis ilmoolee halluu qaxxaamuroo qaban, cocorree
fi buburree dhalan. [40] Yaaqoobis ilmoolee bushaayee kophaatti baase; bushaayee
Laabaa kanneen hafan garuu warra halluu qaxxaamuroo qabanii fi gurraacha dura
dhaabe. Akkasitti hoolota isaa addaan baase malee bushaayee Laabaatti hin makne.
[41] Yeroo dhaltuuwwan jajjaboon gojoma’an kam iyyuu, Yaaqoob akka isaan ulee sana
biratti wal hobobsaniif jedhee ulee sana fuula isaanii dura bidiruu keessa kaa’aa
ture; [42] dhaltuuwwan dadhaboo dura garuu ulee sana hin keenye. Kanaafuu warri
dadhaboon kan Laabaa, warri jajjaboon immoo kan Yaaqoob ta’an. [43] Namichi kun
haala kanaan akka malee soorome; innis bushaayee baay’ee, garboota dubartootaatii
fi dhiirotaa, gaalawwanii fi harroota qaba ture.

# 31

*Yaaqoob Laabaa Jalaa Baqate*

[1] Yaaqoobis akka ilmaan Laabaa, “Yaaqoob waan abbaan keenya qabu hunda
fudhateera; qabeenya kana hundas waanuma kan abbaa keenyaa ture irraa argate”
jedhan dhaga’e. [2] Yaaqoobis fuula Laabaa ilaale; kunoo fuulli isaa akka duraatti isatti
hin tolle.
[3] WAAQAYYOS Yaaqoobiin, “Biyya abbaa keetii fi fira keetti deebi’i; anis si wajjin nan
ta’a” jedhe.
[4] Kanaafuu Yaaqoob akka isaan bakkeetti lafa bushaayeen isaa jiranitti gad
ba’aniif gara Raahelii fi Liyaatti ergaa erge. [5] Innis akkana isaaniin jedhe; “Ani
akka abbaan keessan akka kanaan duraa sana fuula natti hin tolle hubadheera;
garuu Waaqni abbaa kootii na wajjin jira. [6] Akka ani humna koo guutuudhaan
abbaa keessaniif hojjedhe isinuu beektu; [7] ta’us abbaan keessan mindaa koo yeroo
kudhan geeddaruudhaan na gowwoomse. Waaqni garuu akka inni na miidhu
hin eeyyamneef. [8] Yeroo inni, ‘Bushaayeen cocorreen mindaa kee ta’u’ jedhetti,
bushaayeen hundi ilmaan cocorree dhalan; yeroo inni, ‘warri halluu qaxxaamuroo
qaban mindaa kee ta’u’ jedhetti immoo bushaayeen hundi ilmaan qaxxaamuroo
qaban dhalan. [9] Waaqni karaa kanaan horii abbaa keessanii fuudhee naa kenne.
[10] “Anis gaaf tokko waqtii gaana bushaayeetti abjuu keessa ol ilaalee kunoo
korbeeyyiin re’ootatti hobobsan akka halluu qaxxaamuroo qaban, cocorree fi
buburree ta’an nan arge. [11] Ergamaan Waaqayyoos abjuu keessa, ‘Yaaqoob’ naan
jedhe. Ani, ‘Kunoo asan jira’ jedheen deebise. [12] Inni immoo akkana naan
jedhe; ‘Akka korbeeyyiin re’ootaa kanneen bushaayeetti hobobsan hundinuu halluu
qaxxaamuroo qaban, cocorree fi buburree ta’an ol jedhii ilaali. Ani waan Laabaan
sitti hojjete hunda argeeraatii. [13] Ani Waaqa Beet’eel lafa ati itti utubaa dibdee
wareega naaf wareegde sanaa ti. Amma ka’iitii biyya kana keessaa ba’iitii gara biyya
fira keetiitti deebi’i.’ ”

14 Kana irratti Raahelii fi Liyaan akkana jedhanii deebisan; “Qoodni yookaan
dhaalli mana abbaa keenyaatti nuu hafe jiraa? 15 Inni akkuma ormaatti nu ilaala
mitii? Inni nu gurgurateeraatii maallaqa sababii keenyaaf kenname nyaatee fixeera.
16 Qabeenyi Waaqni abbaa keenya irraa fuudhe hundi kan keenyaa fi kan ijoollee
keenyaa ti. Egaa waan Waaqni sitti hime hunda godhi.”
17 Yaaqoobis ijoollee isaatii fi niitota isaa gaalawwan irra kaa’ate; 18 horii fi
qabeenya kaaba dhi’a Phaadaan Arraamiitti horatte hunda of dura oofee gara biyya
Kana’aan abbaa isaa Yisihaaq bira dhaquuf ka’e.
19 Laabaan hoolota isaa irraa rifeensa murmuruu dhaqe; Raahel immoo waaqota
abbaa ishee hatte. 20 Yaaqoobis akka isa dhiisee baqachuu yaade isa dhoksuudhaan
Laabaan namicha Arraam sana gowwoomse. 21 Innis waan qabu hunda fudhatee
baqate; laga Efraaxiis ce’ee biyya gaara Gili’aaditti qajeele.

### *Laabaan Yaaqoob Duukaa Bu’e*

22 Akka Yaaqoob baqate guyyaa sadaffaatti Laabaatti himame. 23 Laabaanis
firoota isaa fudhatee guyyaa torba Yaaqoob duukaa bu’ee biyya gaara Gili’aaditti isa
qaqqabe. 24 Waaqnis halkan abjuudhaan gara Laabaan namicha biyya Arraam sanaa
dhufee, “Ati waan gaariis ta’u hamaa tokko iyyuu Yaaqoobitti akka hin dubbanne of
eeggadhu” isaan jedhe.
25 Yaaqoob yeroo Laabaan isa qaqqabetti, biyya gaaraa Gili’aad keessa dunkaana
isaa dhaabbatee ture; Laabaa fi firoonni isaas achi qubatan. 26 Laabaanis Yaaqoobiin
akkana jedhe; “Ati na gowwoomsitee intallan koo akka booji’amtoota waraanaatti
fudhattee deemuun kee maal gochuu kee ti? 27 Ati maaliif dhoksaan baqatte?
Maaliifis na gowwoomsite? Akka ani gammachuu fi faarfannaadhaan, dibbee fi
baganaadhaan si geggeessuuf maaliif natti himuu didde? 28 Ati akka ani ijoollee
ijoollee kootiitii fi intallan koo dhungadhee nagaatti jedhu naaf hin eeyyamne. Ati
hojii gowwummaa hojjete. 29 Ani isin miidhuuf humna qaba; garuu eda Waaqni
abbaa keessanii, ‘Ati waan gaariis ta’u hamaa tokko illee Yaaqoobitti akka hin
dubbanne of eeggadhu’ naan jedhe. 30 Ati sababii mana abbaa keetiitti deebi’uu
akka malee hawwiteef deemteerta; garuu maaliif waaqota koo hatte?”
31 Yaaqoobis akkana jedhee Laabaaf deebii kenne; “Ati intallan kee humnaan
narraa fudhatta jedhee waanan sodaadheef nan deeme. 32 Namni ati waaqota kee
isa biratti argattu jiraachuu hin qabu. Akka wanni kan kee ta’e na bira jiruu fi akka
hin jirre atuu fuula firoota keenyaa duratti sakatta’i; yoo jiraate immoo fudhadhu.”
Yaaqoob Raahel waaqota sana hattuu ishee Yaaqoob hin beeku ture.
33 Laabaanis dunkaana Yaaqoob, dunkaana Liyaatii fi dunkaana xomboreewwan
lamaanii seenee homaa dhabe. Erga dunkaana Liyaatii ba’ee booddees dunkaana
Raahel seene. 34 Raahel immoo waaqota mana keessaa hatte sana kooraa gaalawwan
ishee jala keessee irra taa’aa turte. Laabaanis waan dunkaanicha keessa jiru hunda
keessa barbaade; garuu homaa hin arganne.
35 Raahelis abbaa isheetiin, “Yaa gooftaa ko, sababii ani ka’ee fuula kee dura
dhaabachuu dadhabeef hin aarin; ani xuriin of irraa qabaa” jette. Innis ni sakatta’e
malee waaqota sana hin arganne.
36 Yaaqoobis Laabaatti aaree isatti dheekkame. Innis akkana jedhee gaafate; “Yakki
koo maali? Wanni ati akkana na adamsituuf ani cubbuu maalii hojjedheeti? 37 Ati
mi’a koo hunda sakattaateerta; egaa mi’a mana keetii keessaa maal argatte? Yoo
jiraate firoota keetii fi firoota koo duratti dhi’eessiitii isaan nu lamaan gidduutti
murtii haa kennan.
38 “Ani waggoota digdaman kana si wajjin jiraadheera. Hoolonnii fi re’oonni
kee tokko iyyuu hin gatanne; ani bushaayee kee keessaas korbeeyyii hin nyaanne.

39 Ani horii bineensi cabse gara keetti hin fidne; horii bades anatu kaffalaa ture.
Waan guyyaas ta'u halkan hatame hundaaf ati na kaffalchiifatta turte. 40 Haalli ani
keessa jiraadhe kana ture; guyyaa ho'a, halkan immoo dhaamochatu na waxala ture;
hirribnis ija koo irraa bade. 41 Akkasiin ani waggoota digdamman kana mana kee
ture. Ani waggaa kudha afur intallan kee lamaaniif jedhee, waggaa ja'a immoo
bushaayee keetiif jedhee siif hojjedheera; ati immoo yeroo kudhan mindaa koo
geeddarte. 42 Waaqni abbaa ko, Waaqni Abrahaam, Sodaan Yisihaaq utuu na wajjin
jiraachuu baate ati silaa harka duwwaa na baasta turte. Waaqni garuu rakkina koo
fi dadhabbii koo argee eda sitti dheekkame."

43 Laabaan akkana jedhee Yaaqoobiif deebise; "Dubartoonni kunneen intallan koo
ti; ijoolleen kunneenis ijoolluma koo ti; bushaayeen kunneenis bushaayee koo ti.
Wanni ati argitu hundi kanuma koo ti. Yoos ani waa'ee intallan koo kanneeniitii
fi waa'ee ijoollee isaan da'anii har'a maal gochuun danda'a? 44 Kottu mee anii fi ati
amma walii kakannaa; kakuun kunis anaa fi si gidduutti ragaa haa ta'u."

45 Yaaqoobis dhagaa tokko fuudhee akka utubaatti dhaabe. 46 Innis firoota isaatiin,
"Dhagaa walitti qabaa" jedhe. Isaanis dhagaa walitti qabanii tuulan; jarris tuullaa
sana biratti nyaata nyaatan. 47 Laabaan tuullaa sanaan "Yigaarsahaadutaa" jedhee
moggaase; Yaaqoob immoo "Gili'aad" jedheen.

48 Laabaanis, "Tuullaan kun anaa fi si gidduutti ragaa dha" jedhe. Gaala'aad
jedhamuun isaa kanumaaf. 49 Akkasumas Miisphaa jedhame; Laabaan akkana jedhee
tureetii; "Yeroo nu gargar baanutti WAAQAYYO sii fi ana gidduutti eegduu haa ta'u.
50 Yoo ati intallan koo rakkifte yookaan yoo ati intallan koo irratti niitota biraa fuute,
yoo namni tokko iyyuu nu bira hin jirre kunoo Waaqni anaa fi si'i gidduutti ragaa
dha."

51 Laabaan ammas Yaaqoobiin akkana jedhe; "Tuullaa kanaa fi utubaa ani sii fi ana
gidduu dhaabe kana ilaali. 52 Akka ani si miidhuuf jedhee tuullaa kana darbee gara
keetti hin ceene, akka atis na miidhuuf jettee tuullaa kanaa fi utubaa kana dabartee
gara kootti hin ceene tuullaan kun ragaa dha; utubaan kunis ragaa dha. 53 Waaqni
Abrahaam, Waaqni Naahoor, Waaqni abbootii isaanii nu gidduutti murtii haa kennu."

Yaaqoobis akkasitti maqaa Sodaa abbaa isaa Yisihaaqiin kakate. 54 Innis biyya
gaaraa sanatti aarsaa dhi'eessee firoota isaa nyaatatti waame. Isaanis erga nyaatanii
booddee achuma bulan.

55 Laabaanis guyyaa itti aanu ganama bariidhaan ka'ee ijoollee ijoollee isaatii fi
intallan isaa dhungatee isaan eebbise. Ergasiis achii ka'ee gara iddoo isaatti deebi'e.

# 32

*Yaaqoob Esaawuun Wal arguuf Qophaa'e*

1 Yaaqoobis karaa isaa itti fufe; ergamoonni Waaqayyoos isatti dhufan. 2 Innis
yommuu isaan argetti, "Kun buufata Waaqaa ti" jedhe; iddoo sanas Mahanayiim
jedhee moggaase.

3 Yaaqoobis gara obboleessa isaa Esaawu kan biyya Edoom lafa See'iir jedhamu
keessa jiraatuutti ergamoota of dura erge. 4 Innis akkana jedhee isaan ajaje: "Isin
gooftaa koo Esaawuun akkana jedhaa: 'Garbichi kee Yaaqoob akkana jedha; ani
Laabaa bira jiraadhee hamma ammaattis isuma biran ture. 5 Ani loonii fi harroota,
hoolotaa fi re'oota, hojjettoota dhiiraatii fi dubartootas qaba. Ammas ani fuula kee
duratti surraa akkan argadhuuf ergaa kana gooftaa kootti nan erga.' "

6 Ergamoonni sunis gara Yaaqoobitti deebi'anii, "Nu obboleessa kee Esaawu bira
dhaqneerra; innis si simachuuf dhufaa jira; namoonni dhibba afur isa wajjin jiru"
jedhaniin.

7 Yaaqoobis akka malee sodaatee dhiphate; namoota isa wajjin turanis garee lamatti
qoode; bushaayee, loowwanii fi gaalawwan illee akkasuma garee lamatti qoode.
8 Innis, "Yoo Esaawu dhufee garee tokko dha'e, gareen kaan jalaa ba'a" jedhee yaade.

9 Yaaqoob akkana jedhee kadhate; "Yaa Waaqa abbaa koo Abrahaam, Waaqa abbaa
koo Yisihaaq, yaa WAAQAYYO, isa 'Ati gara biyya keetii fi gara firoota keetiitti deebi'i,
ani waan gaarii siifin godhaa' naan jette sun, 10 ani gaarummaa fi amanamummaa
ati ana garbicha kee argisiifte kana hundaaf hin malu. Ani yeroo Yordaanos kana
ce'etti ulee koo qofa qaban ture; amma garuu garee lama ta'een jira. 11 Ani akka
ati harka obboleessa koo Esaawu jalaa na baastu sin kadhadha. Ani, 'Inni dhufee
na ajjeesa; haadhotas ijoollee isaanii wajjin ni ajjeesa' jedhee sodaadheeraatii. 12 Ati
garuu, 'Ani dhugumaan waan gaarii siifin godha; sanyii kees akka cirracha galaanaa
kan lakkaa'amuu hin dandeenye sanaa nan godha' jetteerta."

13 Inni halkan sana achuma bule; waan of biraa qabu keessaas kennaa obboleessa
isaa Esaawuuf kennu filate; 14 isaanis re'oota dhaltuu dhibba lama, korbeeyyii re'ee
digdama, hoolota dhaltuu dhibba lama, korbeeyyii hoolaa digdama, 15 gaalawwan
dhalaa soddoma ilmaan isaanii wajjin, saawwan afurtama, jiboota loonii kudhan,
harroota dhaltuu digdama, wadala harrootaa kudhan turan. 16 Innis karra karraan
addaan baasee tajaajiltoota isaatti kennee, "Na dura darbaa deemaa; karrawwan
horii gidduuttis lafa hambisaa" jedhee tajaajiltoota isaa ajaje.

17 Namicha fuula duraan jiru sanaanis akkana jedhe: "Yoo Esaaw obboleessi koo
sitti dhufe, 'Ati kan eenyuu ti? Eessa dhaqxa? Horiin fuula kee dura jiru kun kan
eenyuu ti?' jedhee si gaafate, 18 ati, 'Kan garbicha kee Yaaqoob. Isaanis kennaa
gooftaa koo Esaawuuf ergamanii dha; kunoo, Yaaqoobis nu duubaan dhufaa jira'
jechuu qabda."

19 Namicha lammaffaa, sadaffaa fi warra karrawwan sana faana deeman hundas
akkana jedhee ajaje; "Isinis yoo Esaawun argitan waanuma kana isatti himaa.
20 Akkasumas, 'Kunoo garbichi kee Yaaqoob nu duubaan dhufaa jira' jedhaa." Inni,
"Ani kennaa of dura ergeef kanaan isa nan araarfadha; ergasii immoo ani yommuun
isa argutti tarii inni na simata ta'a" jedhee yaadee tureetii. 21 Kennaan Yaaqoobiis
isa dura darbe; Yaaqoob garuu halkan sana qubata sana keessa bule.

### *Yaaqoob Waaqa Wal'aansoo Qabe*

22 Halkanuma sana Yaaqoob ka'ee niitota isaa lamaan, xomboreewwan isaa
lamaanii fi ilmaan isaa kudha tokko fudhatee malkaa Yaaboq ce'e. 23 Innis erga
laga isaan ceesisee booddee qabeenya isaa hunda erge. 24 Yaaqoob immoo kophaa
isaa hafe; namichi tokkos hamma lafti bariitutti wal'aansoo isa qabe. 25 Namichis
yommuu akka Yaaqoobin mo'achuu hin dandeenye argetti, buusaa luqqeettuu
Yaaqoob tuqe; yeroo inni namicha wajjin wal'aansoo qabettis luqqeettuun Yaaqoob
ni adoode. 26 Namichis, "Waan bari'uu ga'eef gad na dhiisi" jedhe.

Yaaqoob garuu, "Yoo ati na eebbifte malee ani gad si hin dhiisu" jedhee deebise.

27 Namichis, "Maqaan kee eenyu" jedhee isa gaafate.

Inni immoo, "Yaaqoob" jedhee deebise.

28 Namichis, "Ati sababii Waaqaa fi namoota wajjin wal'aansoo qabdee mo'atteef
si'achi Israa'el jedhamta malee Yaaqoob hin jedhamtu" jedhe.

29 Yaaqoobis, "Maaloo maqaa kee natti himi" jedheen.

Inni garuu, "Ati maaliif maqaa koo gaafatta?" jedheen. Ergasiis inni achumatti isa
eebbise.

30 Yaaqoobis, "Ani ifaan ifatti Waaqa argeeraatii; lubbuun koo garuu oolfamteerti"
jedhee iddoo sana Phenii'eel jedhee moggaase.

31 Akkuma inni Phenuu'eelin darbeen aduun isatti baate; innis sababii luqqeettuu
isaatiif okkolaa ture. 32 Kanaafuu Israa'eloonni hamma har'aatti ribuu tafaa hin
nyaatan; inni buusaa luqqeettuu Yaaqoob kan tafaan wal qabatu tuqee tureetii.

# 33

*Yaaqoobii fi Esaawu Wal argan*

1 Yaaqoobis ol jedhee ilaalee kunoo Esaawu namoota dhibba afur wajjin utuu
dhufaa jiruu arge; innis Liyaatti, Raahelii fi xomboreewwan lamaanitti ijoollee
gargari hire. 2 Xomboreewwanii fi ijoollee isaanii dura aanse; Liyaa fi ijoollee ishee
itti aansee, Raahelii fi Yoosefin immoo dugda duuba buuse. 3 Ofii isaatii immoo isaan
dura darbee hamma obboleessa isaa bira ga'utti yeroo torba lafatti gad jedhee harka
fuudhe.
4 Esaawu garuu Yaaqoobin simachuuf itti fiigee isa hammate; morma isaattis
marmee isa dhungate. Isaan lachanuu walitti boo'an. 5 Esaawus ol jedhee ilaalee
dubartootaa fi ijoollee argee, "Warri si wajjin jiran kunneen eenyu?" jedhee gaafate.
Yaaqoobis deebise, "Isaan ijoollee Waaqni arjummaadhaan ana garbicha keetiif
kennee dha" jedhe.
6 Xomboreewwanii fi ijoolleen isaanii dhi'aatanii gad jedhanii harka fuudhan. 7 Itti
aansaniis Liyaa fi ijoolleen ishee dhufanii gad jedhanii harka fuudhan. Dhuma irratti
immoo Yoosefii fi Raahel dhufanii gad jedhani harka fuudhan.
8 Esaawu, "Bushaayee fi loon ani argu kun hundi maali?" jedhee gaafate.
Yaaqoobis, "Ani fuula kee fuula gooftaa koo duratti fudhatama argachuuf jedhee
ti" jedhe.
9 Esaawu immoo, "Yaa obboleessa koo ani waan na ga'u qaba. Ati waan qabdu
ofuma keetii hambifadhu" jedheen.
10 Yaaqoobis akkana jedhe; "Maaloo akkas miti! Yoo ani fuula kee duratti
fudhatama argadhee jiraadhe, kennaa kana na harkaa fudhadhu. Egaa amma ati
fuula tolaadhaan na simatteerta; fuula kee arguun anaaf akkuma fuula Waaqaa
arguutii. 11 Sababii Waaqni natti arjoomee anis waan na barbaachisu hunda qabuuf
maaloo kennaa ani siif fide kana fudhadhu." Esaawus waan Yaaqoob cimsee isa
kadhateef kennaa sana ni fudhate.
12 Esaawus, "Kottu karaa keenya itti fufnee haa deemnu; ani si dura nan bu'aa"
jedhe.
13 Yaaqoob garuu akkana isaan jedhe; "Akka ijoolleen dadhaboo ta'anii fi akka anis
hoolotaa fi saawwan hoosisaniif kunuunsa gochuu qabu ati gooftaan koo ni beekta.
Horiin kunneen yoo guyyuma tokkoon jarjarsuudhaan oofaman hundi isaanii ni
dhumu. 14 Gooftaan koo garbicha isaa dura darbee haa deemu; ani immoo hamman
See'iiritti gooftaa koo qaqqabutti akkuma humna bushaayee fuula koo dura jirutii fi
akkuma humna ijoolleetti suuta jedhee nan deema."
15 Esaawus, "Yoos namoota koo keessaa muraasa si biratti nan dhiisa" jedhe.
Yaaqoob immoo, "Kun maaliif barbaachisaa? Fuula gooftaa koo duratti fudhatama
argachuun qofti na ga'a" jedhe.
16 Esaawus guyyuma sana karaa isaa irra See'iiritti deebi'e. 17 Yaaqoob garuu
Sukooti dhaqee achitti ofii isaatiif mana ijaarrate; horii isaatiif immoo daasii ijaare.
Kanaafuu iddoon sun Suukooti jedhame.
18 Yaaqoob erga kaaba dhi'a Phaadaan Arraamiitii deebi'ee booddee nagaan
magaalaa Sheekem ishee biyya Kana'aan keessaa sana ga'ee fuula magaalattii dura
qubate. 19 Innis lafa dunkaana isaa irra dhaabate sana ilmaan Hamoor irraa meetii
dhibbaan bitate; Hamoor immoo abbaa Sheekem. 20 Yaaqoobis achitti iddoo aarsaa
ijaaree El Elohee Israa'el jedhee moggaase.

# 34

*Diinaan Gudeedamte*

1 Diinaan intalli Liyaan Yaaqoobiif deesse sun dubartoota biyyattii ilaaluudhaaf
gad baate. 2 Sheekem ilmi Hamoor namicha gosa Hiiwii kan bulchaa biyya sanaa
ture ishee arge; innis qabee humnaan ishee gudeede. 3 Qalbiin isaas Diinaa intala
Yaaqoobiin fudhatame; innis ishee jaallatee afaan tolaa itti dubbate. 4 Sheekemis
abbaa isaa Hamooriin, “Intala kana na fuusisi” jedhe.

5 Yaaqoob yommuu intalli isaa Diinaan akka gudeedamte dhaga’etti, ilmaan isaa
dirree irra horii tiksu turan; kanaafuu Yaaqoob hamma isaan galanitti ni cal’ise.

6 Hamoor abbaan Sheekemis Yaaqoob wajjin dubbachuu dhaqe. 7 Ilmaan Yaaqoobis
akkuma waan uumame sana dhaga’aniin dirreedhaa dhufan. Isaanis sababii
Sheekem intala Yaaqoob wajjin ciisuudhaan Israa’el keessatti waan jibbisiisaa
hojjeteef ni gaddan; akka malees aaran.

8 Hamoor garuu akkana isaaniin jedhe; “Qalbiin ilma koo Sheekem intala keessan
irra bu’eera. Maaloo isatti ishee heerumsiisaa. 9 Fuudhaa fi heerumaan walitti
firoomnaa; intallan keessan nuu kennaa; intallan keenyas fuudhaa. 10 Nu wajjin
jiraadhaa; biyyattiin fuula keessan dura jirti; keessa jiraadhaatii itti daldalaa;
qabeenyas itti horadhaa.”

11 Sheekemis abbaa Diinaatii fi obboloota isheetiin akkana jedhe; “Ani fuula keessan
duratti fudhatama argannaan waanuma isin naan jettan isiniif nan kenna. 12 Isinis
gabbara misirrittiitii fi kennaa ani fiduu qabu hamma feetan natti muraa; anis waan
isin naan jettan nan baasa. Intalattii qofa natti heerumsiisaa.”

13 Ilmaan Yaaqoob immoo waan Sheekem obboleettii isaanii Diinaa gudeedeef
yeroo Sheekemii fi abbaa isaa Hamooriif deebii kennanitti haxxummaadhaan
dubbatan. 14 Isaanis akkana isaaniin jedhan; “Nu waan akkanaa gochuu hin
dandeenyu; nu nama dhagna hin qabatiniif intala keenya kennuu hin dandeenyu.
Kun nuuf salphina. 15 Nu waan tokko qofaan tole isiniin jenna; kunis yoo isin dhiira
keessan hunda dhagna qabdanii akkuma keenya taatanii dha. 16 Ergasii nu intallan
keenya isinii kennina; intallan keessan immoo ni fuuna. Gidduu keessan ni jiraanna;
isin wajjinis saba tokko ni taana. 17 Garuu yoo isin dhagna qabachuu diddan nu
obboleettii keenya fudhannee deemna.”

18 Dubbiin isaanii Hamoorii fi Sheekem ilma Hamoor ni gammachiise. 19 Sheekem
namoota mana abbaa isaa jiraatan hunda caalaa kabajamaa ture; inni sababii intala
Yaaqoobitti gammadeef waan kana lafa irra hin harkifne; 20 Hamoorii fi ilmi isaa
Sheekem gara karra magaalaa isaanii dhufanii namoota magaalaa isaaniitiin akkana
jedhan; 21 “Jarri kun nuuf warra nagaa ti; kanaafuu biyyattii keessa jiraatanii itti haa
daldalatan. Biyyattiin isaaniif lafa bal’aa qabdi; nu intallan isaanii haa fuunu; isaanis
intallan keenya haa fuudhan. 22 Garuu namoonni kunneen akka saba tokkootti
nu wajjin jiraachuuf tole kan jedhan yoo dhiironni keenya akkuma isaanii dhagna
qabatan qofa. 23 Loon isaanii, qabeenyi isaaniitii fi horiin isaanii kaan hundinuu
kanuma keenya hin ta’anii? Kanaafuu kottaa tole isaaniin jennaa; isaanis nu wajjin
ni jiraatu.”

24 Namoonni karra magaalaa sanaatiin gad ba’an hundinuu Hamoorii fi ilma isaa
Sheekemiin walii galan; dhiironni karra magaalaa sanaatiin gad ba’an hundinuus
dhagna qabatan.

25 Guyyaa sadii booddee utuma isaan dhukkubsachaa jiranuu, ilmaan Yaaqoobii
keessaa namni lama Simi’oonii fi Lewwiin, obboloonni Diinaa, goraadee isaanii
fudhatanii magaalaa homaa quba hin qabne sana dha’anii dhiira hunda ajjeesan.
26 Isaanis goraadeedhaan Hamoorii fi ilma isaa Sheekemin ajjeesanii Diinaa immoo
mana Sheekemiitii fudhatanii qajeelan. 27 Ilmaan Yaaqoobis reeffawwan irra

darbanii magaalaa obboleettiin isaanii itti gudeedamte sana saaman. 28 Isaanis
bushaayee isaanii, loon isaanii, harroota isaaniitii fi waan isaan magaalaa keessaa
fi alaa qaban hunda fudhatan. 29 Qabeenya isaanii hunda, dubartootaa fi ijoollee
isaanii hunda fudhatanii deeman; waan mana keessa jiru hundas ni booji'an.

30 Yaaqoobis Simi'oonii fi Lewwiidhaan akkana jedhe; "Isin akka ani Kana'aanotaa
fi Feerzota biyya kana jiraatanitti xireeffatamu gochuudhaan rakkoo natti fiddan.
Nu baay'inaan xinnoo dha; yoo isaan humna walitti dabalatanii na lolan anii fi warri
mana koo hundinuu ni dhumna."
31 Isaan garuu, "Yoos inni akkuma sagaagaltuu tokkootti obboleettii keenyatti haa
taphatuu ree?" jedhanii deebisan.

# 35

*Yaaqoob Beet'eelitti Deebi'e*

1 Waaqni Yaaqoobiin, "Ka'iitii Beet'eelitti ol ba'ii achi jiraadhu; achittis Waaqa
yeroo ati obboleessa kee Esaawun baqatetti sitti mul'ate sanaaf iddoo aarsaa tolchi"
jedhe.

2 Yaaqoob warra mana isaa jiranii fi warra isa wajjin turan hundaan akkana jedhe;
"Waaqota ormaa kanneen isin of biraa qabdan irraa fagaadhaa; of qulqulleessaa;
uffata keessanis geeddaradhaa. 3 Kottaa kaanee Beet'eelitti ol baanaa; anis achitti
Waaqa gaafa rakkina kootii deebii naa kenne isa iddoo ani dhaqe hundumatti na
wajjin ture sanaaf iddoo aarsaa nan tolcha." 4 Isaanis waaqota ormaa kanneen isaan
of biraa qaban hundaa fi lootii gurra isaanii Yaaqoobitti kennan; Yaaqoobis fuudhee
qilxuu Sheekemii jalatti awwaale. 5 Isaanis ka'anii qajeelan; akka namni tokko iyyuu
isaan duukaa hin buuneef naasisuun Waaqaa magaalaawwan naannoo isaanii jiran
irra bu'e.
6 Yaaqoobii fi namoonni isa wajjin turan hundi gara Luuzi kan Beet'eel jedhamtuu
ishee biyya Kana'aan keessatti argamtu sanaa dhufan. 7 Innis achitti iddoo aarsaa
tolchee sababii yeroo inni obboleessa isaa jalaa baqachaa turetti Waaqni achitti isatti
of mul'iseef iddoo sana El Beet'eel jedhee waame.

8 Debooraan guddiftuun Ribqaa duutee Beet'eelii gaditti qilxuu jalatti awwaalamte.
Maqaan isaas Aloonbaakut jedhame.

9 Erga Yaaqoob kaaba dhi'a Phaadaan Arraamiitii deebi'ee booddee Waaqni ammas
isatti mul'atee isa eebbise. 10 Waaqni, "Maqaan kee Yaaqoob; si'achi garuu ati
Yaaqoob hin jedhamtu; maqaan kee Israa'el jedhama" jedheen. Maqaan isaas Israa'el
jedhame.

11 Waaqni akkana isaan jedhe; "Ani Waaqa Waan Hunda Danda'u dha; hori;
baay'adhus. Sabnii fi waldaan sabootaa sirraa argamu; mootonnis mudhii kee
keessaa ba'u. 12 Ani biyya Abrahaamii fi Yisihaaqiif kenne siifis nan kenna; ani biyya
kana sanyii kee warra si booddeetiifis nan kenna." 13 Waaqnis iddoo itti isa wajjin
haasa'aa ture sanatti isa dhiisee ol ba'e.
14 Yaaqoob iddoo itti Waaqni isa wajjin dubbate sana utubaa dhagaa tokko dhaabee
kennaa dhugaatii irratti dhangalaase; zayitiis irratti dhangalaase. 15 Yaaqoobis iddoo
itti Waaqni isa wajjin dubbate sana Beet'eel jedhee moggaase.

*Du'a Raahelii fi Yisihaaq*
*35:23-26 kwi – 1Sn 2:1-2*

16 Isaanis Beet'eelii ka'anii adeemsa isaanii itti fufan. Akkuma isaan Efraataatti
dhi'aataniinis Raahel ciniinsuun qabamtee akka malee muddamte. 17 Utuu isheen
da'uuf ciniinsuu jabaa keessa jirtuus deessiftuun, "Ati waan ilma biraa deessuuf hin
sodaatin" jetteen. 18 Raahel garuu waan du'uu geesseef utuma lubbuun ishee ba'aa

jirtuu Ben-Oonii jettee ilma ishee moggaafte. Abbaan isaa garuu Beniyaam jedhee isa moggaase.

19 Akkasiin Raahel duutee karaa Efraataatti geessu irratti awwaalamte; Efraataan
kun immoo Beetlihem. 20 Yaaqoobis awwaala ishee irra soodduu dhaabe; soodduun
sunis hamma har’aattuu awwaala Raahel argisiisa.

21 Israa’el ammas achii ka’ee Migdaal Eederiin gamatti dunkaana isaa dhaabbate.
22 Utuu Israa’el biyya sana jiraatuu Ruubeen ol seenee saajjatoo abbaa isaa Bilihaa
wajjin ciise; Israa’elis waan kana dhaga’e.

Yaaqoob ilmaan kudha lama qaba ture; isaanis:

23 Ilmaan Liyaa:
Ruubeen jechuunis ilma Yaaqoob isa hangafa,
Simi’oon, Lewwii, Yihuudaa, Yisaakorii fi Zebuuloon.
24 Ilmaan Raahel:
Yoosefii fi Beniyaam.
25 Ilmaan Bilihaa jechuunis xomboree Raahel:
Daanii fi Niftaalem.
26 Ilmaan Zilfaa jechuunis xomboree Liyaa:
Gaadii fi Aasheer.

Isaan kunneen ilmaan Yaaqoob kanneen kaaba dhi’a Phaadaan Arraamiitti isaaf dhalatanii dha.

27 Yaaqoobis gara abbaa isaa, gara Yisihaaq, gara magaalaa Mamree ishee Kiriyaati
Arbaaq kan Kebroon jedhamtuu, iddoo Abrahaamii fi Yisihaaq alagoota ta’anii
jiraachaa turan sanaa dhufe. 28 Yisihaaq waggaa dhibba tokkoo fi saddeettama jiraate.
29 Innis umurii quufee, dulloomee hafuura isaa kan dhumaa baafatee du’e; gara saba
isaattis dabalame. Ilmaan isaa Esaawuu fi Yaaqoobis isa awwaalan.

# 36

*Sanyiiwwan Esaawu*
*36:10-14 kwf – 1Sn 1:35-37*
*36:20-28 kwf – 1Sn 1:38-42*

1 Seenaan maatii Esaawu kan Edoom jedhamu sanaa kana.

2 Esaaw niitota isaa dubartootaa Kana’aan keessaa fuudhe; isaanis Aadaa intala
Eeloon namicha gosa Heetii fi Oholiibaamaa intala Aannaa ilma Zibe’oon namicha
gosa Hiiwii, 3 akkasumas Baasmati intala Ishmaa’eel obboleettii Nabaayoti.

4 Aadaan Eliifaazin Esaawuuf deesse; Baasmati immoo Re’uu’eelin deesse.
5 Oholiibaamaanis Ye’uushi, Ya’ilaamii fi Qooraahi deesse. Isaan kunneen ilmaan
Esaawu kanneen Kana’aanitti isaaf dhalatanii dha.
6 Esaawu niitota isaa, ilmaan isaa, intallan isaatii fi warra mana isaa jiraatan
hunda, akkasumas karra loon isaa, horii isaa kaan hundaa fi qabeenya biyya
Kana’aanitti horate hunda fudhatee obboleessa isaa Yaaqoob biraa ka’ee biyya biraa
dhaqe. 7 Waan qabeenyi isaanii akka malee baay’ateef isaan walii wajjin jiraachuu
dadhaban; lafti isaan jiraachaa turanis sababii baay’ina horii isaaniitiif isaan ga’uu
hin dandeenye. 8 Esaawu biyya gaara See’iir keessa jiraate; Esaawu jechuun Edoomii
dha.

9 Seenaan maatii Esaawu abbaa Edoomotaa kan warra biyya gaara See'iir keessa jiraatanii kana.

10 Maqaan ilmaan Esaawu:
Eliifaaz, ilma Aadaa niitii Esaawuutii fi Re'uu'eel ilma Baasmati niitii Esaawuu ti.
11 Ilmaan Eliifaaz:
Teemaan, Oomaar, Zefoo, Gaataamii fi Qenaz. 12 Eliifaaz ilmi Esaawus saajjatoo
Tiimnaa jedhamtu qaba ture; isheenis Amaaleqin Eliifaaziif deesse. Isaan kunneen ilmaan ilmaan Aadaa niitii Esaawu.
13 Ilmaan Re'uu'eel:
Nahaati, Zeraa, Shamaa fi Miizaah. Isaan kunneen ilmaan ilmaan Baasmati niitii Esaawu.
14 Oholiibaamaan niitiin Esaawu intalli Aannaa ilma Zibe'oon Esaawuuf:
Ye'uushi, Ya'ilaamii fi Qooraahi deesse.

15 Isaan kunneen sanyiiwwan Esaawu keessaa hangafoota turan:
Ilmaan Eliifaaz ilma Esaawu isa hangafaa:
Teemaan hangafticha, Oomaar hangafticha, Zefoo hangafticha, Qenaz
hangafticha, 16 Qooraahi hangafticha, Gaataam hangafitichaa fi Amaaleq
hangafticha. Isaan kunneen hangafoota biyya Edoom keessatti Eliifaaz irraa dhalatanii dha; isaanis ilmaan Aadaa ti.
17 Ilmaan Re'uu'eel ilma Esaawu:
Nahaati hangafticha, Zeraa hangafticha, Shamaa hangaftichaa fi Miizaah hangafticha. Isaan kunneen hangafoota biyya Edoomitti Raaqu'el irraa dhalatanii dha; isaanis ilmaan Baasmati niitii Esaawu.
18 Ilmaan Oholiibaamaa niitii Esaawu:
Ye'uushi hangafticha, Ya'ilaamaa hangaftichaa fi Qooraahi hangafticha. Isaan kunneen hangafoota Ahiliibaamaa niitii Esaawu intala Aannaa irraa dhalatanii dha.
19 Isaan kunneen ilmaan Esaawu Edoom jedhamu sanaa turan; isaan kunneenis hangafoota isaanii turan.

20 Isaan kunneen ilmaan See'iir namicha gosa Hoorii kanneen biyya sana keessa jiraachaa turanii dha; isaanis:
Looxaan, Sobaal, Zibe'oon, Aannaa, 21 Diishoon, Eezerii fi Diishaan. Ilmaan
See'iir kanneen biyya Edoom keessaa kunneen hangafoota hoorotaa turan.
22 Ilmaan Looxaan:
Hoorii fi Hoomaam. Tiimnaa obboleettii Looxaan.
23 Ilmaan Sobaal:
Aliwaan, Maanahaat, Eebaal, Shefoo fi Oonaami.
24 Ilmaan Zibe'oon:
Ayyaa fi Aannaa. Aannaan kunis namicha utuu harroota abbaa isaa Zibe'oon tiksuu gammoojjii keessatti burqaa bishaan danfaa argatee dha.
25 Ijoollee Aannaa:
Diishoonii fi Oholiibaamaa intala Aannaa.
26 Ilmaan Diishoon:
Hemdaan, Eshbaan, Yitraanii fi Keraan.
27 Ilmaan Eezeri:
Bilhaan, Zaawaanii fi Aqaan.
28 Ilmaan Diishaan:
Uuzii fi Araan.
29 Isaan kunneen hangafoota Hoorotaa ti:
Looxaan, Sobaali, Zibe'oon, Aannaa, 30 Diishoon, Eezerii fi Diishaan.

Isaan kunneen biyya See'iiri keessatti akkuma gosa gosa isaaniitti hangafootaa Hoorotaa turan.

### *Moototа Edoom*
*36:31-43 kwf – 1Sn 1:43-54*

31 Mootonni utuu mootiin Israa'el tokko iyyuu hin mo'in dura Edoom keessatti mo'an kanneen turan:
32 Belaa ilmi Be'oor mootii Edoom ta'e. Magaalaan isaa Diinhaabaa jedhamee moggaafame.
33 Belaa duunaan Yoobaab ilmi Zeraa namichi Bozraa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
34 Yoobaab duunaan Hushaam namichi biyya Teemaan iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
35 Hushaam duunaan Hadaad ilmi Bedad inni biyya Mo'aabitti Midiyaanin mo'ate sun iddoo isaa bu'ee mootii ta'e. Maqaan magaalaa isaa Aawiit jedhame.
36 Hadaad duunaan Samlaan namichi Masreeqaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
37 Samlaan duunaan Shaawul namichi biyya Rehoobooti ishee laga bira jirtu sanaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
38 Shaawul duunaan Ba'aal-Haanaan ilmi Akboor iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
39 Ba'aal-Haanaan ilmi Akboor duunaan immoo Hadaad iddoo isaa bu'ee mootii ta'e. Magaalaan isaas Faa'uu jedhame. Maqaan niitii isaa immoo Maheexabi'eel jedhama ture. Isheenis intala Maxreed intala Mee-Zaahaab turte.

40 Hangafoonni Esaawu irraa dhalatan akkuma gosa gosa isaaniittii fi akkuma naannoo jireenya isaaniitti maqaa maqaan kanneenii dha:
Tiimnaa, Aalwaa, Yeteeti,
41 Oholiibaamaa, Eelaa, Phiinoon,
42 Qenaz, Teemaan, Mibzaar,
43 Magidii'eelii fi Iiraam.
Namoonni kunneen akkuma lafa biyyа qabatanii keessa jiraataniitti hangafoota Edoom turan.

Esaawuun kunis abbaa Edoomotaa ti.

## 37

### *Abjuu Yoosef*

1 Yaaqoob biyya abbaan isaa ture, Kana'aan keessa jiraate.

2 Seenaan maatii Yaaqoob kana.

Yoosef yeroo dargaggeessa waggaa kudha torba turetti obboloota isaa, ilmaan niitota abbaa isaa jechuunis ilmaan Bilihaatii fi Zilfaa wajjin bushaayee tiksa ture; innis waa'ee obboloota isaa oduu hamaa abbaa isaatiif fide.
3 Israa'el waan bara dullumaa keessa isa dhalcheef ilmaan isaa hunda caalaa
Yoosefin jaallata ture; innis qoloo faayeffame hojjeteef. 4 Obboloonni isaas yommuu
akka abbaan isaanii isaan hunda caalaa isa jaallate hubatanitti Yoosefin jibban; afaan nagaas itti dubbachuu hin dandeenye.
5 Yoosef abjuu abjootee obboloota isaatti hime; isaanis ittuma caalchisanii isa
jibban. 6 Innis akkana isaaniin jedhe; "Mee abjuu ani arge kana dhaga'aa: 7 Nu lafa
qotiisaa keessatti bissii midhaanii hidhaa ture; kunoo, bissiin koo ol jedhee dhaabate; bissiiwwan keessan immoo bissii kootti naanna'anii gad jedhanii sagadaniif."
8 Obboloonni isaas, "Ati nu irratti mootii ta'uu barbaaddaa? Dhugumaan situ nu bulchaa?" jedhaniin. Isaanis sababii abjuu isaatii fi sababii waan inni dubbateetiif ittuma caalchisanii isa jibban.

9 Ergasiis abjuu biraa abjootee obboloota isaatti hime. Akkanas jedheen; “Kunoo,
ani abjuu biraa abjoodheera; aduu fi ji’i, urjiiwwan kudha tokkos gad jedhanii naa
sagadu.”
10 Yommuu inni waan kana abbaa isaatii fi obboloota isaatti himetti abbaan isaa,
“Abjuun ati abjootte kun maali? Ani, haati keetii fi obboloonni kee dhugumaan
dhufnee fuula kee duratti gad jennee siif sagadnaa?” jedhee isatti dheekkame.
11 Obboloonni isaa isatti hinaafan; abbaan isaa garuu waan kana garaatti qabate.

### *Yoosef Obboloota Isaatiin Gurgurame*

12 Gaaf tokko obboloonni isaa bushaayee abbaa isaanii Sheekem bira dheechisuu
dhaqan; 13 Israa’elis Yoosefiin, “Akkuma ati beektu obboloonni kee Sheekem bira
bushaayee dheechisaa jiru. Mee kottu ani gara isaaniitti si ergaa” jedhe.
Yoosefis, “Kunoo asan jira” jedheen.
14 Israa’el immoo, “Mee dhaqiitii akka obboloonni kee, bushaayeenis nagaa ta’anii
fi akka hin ta’in ilaaliitii deebi’ii natti himi” jedheen. Innis akkasiin Sulula
Kebrooniitii Sheekemitti isa erge.
Yoosefis Sheekem ga’e; 15 namichi tokko isa arge; kunoo inni dirree irra jooraa ture;
namichi sunis, “Ati maal barbaadda?” jedhee isa gaafate.
16 Yoosefis deebisee, “Ani obboloota koon barbaada. Ati iddoo isaan bushaayee
isaanii dheechisan mee natti himi” jedheen.
17 Namichis deebisee, “Isaan asii deemaniiru; ani ‘Gara Dootaan haa dhaqnu’
jechuu isaanii dhaga’eera” jedhe.
Yoosefis obboloota isaa duukaa bu’ee Dotaayin biratti isaan argate. 18 Isaan garuu
fagootti isa arganii isa ajjeesuuf utuu inni isaan bira hin ga’in mari’atan.
19 Isaanis akkana waliin jedhan; “Kunoo abbaan abjuu sun dhufaa jira! 20 Kottaa
ajjeefnee boollawwan as jiran keessaa tokkotti isa gannee bineensa hamaatu isa
nyaate jenna. Ergasii immoo abjuun isaa maal akka ta’u ilaalla.”
21 Ruubeen waan kana dhageenyaan isaan harkaa isa baase. Innis akkana jedhe;
“Lakkii isa hin ajjeefnu; 22 dhiiga hin dhangalaasinaa. Gammoojjii keessatti boolla
kana keessa isa buusaa malee harka keessaniin isa hin tuqinaa.” Ruubeen isaan
harkaa isa baasee gara abbaa isaatti isa deebisuuf akkana jedhe.
23 Yeroo Yoosef obboloota isaa bira ga’etti isaan qoloo inni uffate, qoloo miidhagaa
sana isa irraa baasanii, 24 isa fuudhanii boollatti gad darbatan. Boolli sunis duwwaa
ture; bishaanis hin qabu ture.
25 Obboloonni isaa buddeena nyaachuuf tataa’an; ol jedhaniis kunoo, daldaltoota
warra Ishmaa’eel kanneen Gili’aadii dhufaa jiran argan. Isaanis urgooftuu, haphee
dibataatii fi qumbii gaalawwan isaaniitti fe’atanii Gibxitti geessaa turan.
26 Yihuudaanis obboloota isaatiin akkana jedhe; “Obboleessa keenya ajjeefnee
dhiiga isaa dhoksuun bu’aa maalii nuu qaba? 27 Kottaa Ishmaa’eelootatti isa gurgurra
malee harka keenyaan isa hin tuqnuu; inni obboleessa keenyaa fi foon keenya.”
Obboloonni isaas yaada kana fudhatan.
28 Yommuu daldaltoonni Midiyaan achiin darbuuf dhufanittis obboloonni Yoosef
boolla keessaa harkisanii ol isa baasanii meetii saqilii digdamaatti Ishmaa’eelootatti
isa gurguratan; jarris Gibxitti isa geessan.
29 Ruubeen gara boolla sanaatti deebi’e; Yoosef boolla sana keessa hin turre; innis
uffata ofii isaa tarsaase. 30 Innis gara obboloota isaa dhaqee, “Gurbichi achi hin jiru!
Egaa ani eessan dhaqa?” jedheen.
31 Isaanis qoloo Yoosef fuudhanii re’ee tokko qalanii qoloo sana dhiiga keessa
cuuphan. 32 Qoloo miidhagaa sanas abbaa isaaniitti geessanii, “Nu qoloo kana
arganneerra; mee qoloo ilma keetii ta’uu fi ta’uu baachuu isaa ilaali” jedhan.

33 Innis qoloo sana beekee, “Kun qoloo ilma kootii ti! Bineensa hamaatu isa nyaate.
Dhugumaan Yoosef cicciramеera” jedhe.
34 Kana irratti Yaaqoob uffata ofii isaa tarsaase; wayyaa gaddaa mudhiitti hidhatee
guyyaa baay’ee ilma isaatiif gadde. 35 Ilmaan isaatii fi intallan isaa hundinuu isa
jajjabeessuuf ka’an; inni garuu jajjabaachuu didee, “Lakkii ani gaddaa gara ilma koo
sii’oolitti gad bu’a” jedhe. Akkasiin abbaan isaa ni boo’eef.
36 Gidduu sana warri Midiyaan sun Gibxi keessatti Phoxiifaaraa namicha qon-
daaltota Fara’oon keessaa tokko ture kan ajajaa waardiyyaa ta’e tokkotti Yoosefin
gurguratan.

# 38

*Yihuudaa fi Taamaar*

1 Yeroo kanatti Yihuudaan obboloota isaa biraa deemee namicha Adulaam kan
Hiiraam jedhamu tokko bira jiraachuuf gad bu’e. 2 Achittis Yihuudaan intala namicha
Kana’aan kan Shuuwaan jedhamu tokkoo arge; innis ishee fuudhee ishee bira ga’e;
3 isheenis ulfooftee ilma deesse; maqaan isaas Eer jedhame. 4 Ammas ulfooftee ilma
deesse; maqaa isaas Oonaan jettee moggaafte. 5 Ammas ittuma dabaltee ulfooftee
ilma biraa deessee maqaa isaa Sheelaa jettee moggaafte. Isheenis Kiziibitti isa deesse.
6 Yihuudaanis Eer ilma isaa hangafticha niitii fuusise; maqaan ishee Taamaar
jedhama ture. 7 Garuu Eer ilmi Yihuudaa hangaftichi sun fuula WAAQAYYOO duratti
hamaa ture; kanaafuu WAAQAYYO isa ajjeese.
8 Yihuudaanis Oonaaniin, “Obboleessa keetiif sanyii dhaabuuf jedhiitii niitii
obboleessa keetii bira ga’iitii dirqama waarsummaa keetii isheef guuti” jedhe.
9 Oonaan garuu akka ijoolleen dhalattu sun kan isaa hin taane beeke; kanaafuu akka
obboleessa isaatiif sanyii hin dhaabneef jedhee yeroo niitii obboleessa isaa bira ga’u
hunda afeetaa lafatti dhangalaasa ture. 10 Wanni inni hojjete sun fuula WAAQAYYOO
duratti hamaa ture; kanaafuu WAAQAYYO isas ni ajjeese.
11 Ergasii Yihuudaan niitii ilma isaa Taamaariin, “Hamma ilmi koo Sheelaa
guddatutti haadha hiyyeessaa ta’iitii mana abbaa keetii jiraadhu” jedhe. Inni,
“Mucaan kunis akkuma obboloota isaa du’aa laata” jedhee yaadee tureetii. Kanaafuu
Taamaar mana abbaa ishee jiraachuu dhaqxe.
12 Bara dheeraa booddees intalli Shuuwaa niitiin Yihuudaa duute. Yihuudaanis
gadda isaa irraa bayyanannaan gara Tiimnaahitti lafa warra hoolota isaa irraa
rifeensa murmuraniitti ol ba’e; michuun isaa Hiiraam namichi Adulaam isa wajjin
deeme.
13 Taamaaris, “Kunoo abbaan dhirsa keetii hoolota isaa irraa rifeensa murmuruuf
jedhee Tiimnaahitti ol ba’aa jira” jedhanii yeroo itti himanitti, 14 wayyaa haadha
hiyyeessaa of irraa baaftee of dhoksuuf haguuggii haguuggatte; ergasiis balbala
Enaayimitti ol galchu kan daandii Tiimnaahitti geessu irra jiru dura teesse. Sheelaa
guddatu iyyuu isheen akka niitummaadhaan isaaf hin kennamin beektee turteetii.
15 Yihuudaan yommuu ishee argetti sababii isheen fuula ishee haguuggattee turteef
sagaagaltuu ishee se’e. 16 Innis utuu akka isheen niitii ilma isaa taate hin beekin karaa
cina iddoo isheen jirtu ishee bira dhaqee, “Mee kottu si wajjin nan ciisaa” jedheen.
Isheenis, “Ati na wajjin ciisuuf maal naa kennita?” jettee isa gaafatte.
17 Inni immoo, “Ani bushaayee koo keessaa ilmoo re’ee tokko siifin erga” jedheen.
Isheenis, “Hamma ilmoo sana naa ergitutti waan biraa qabsiisa naa kennitaa?”
jetteen.
18 Innis, “Ani qabsiisa maalin siif kenna?” jedheen.
Isheenis deebiftee, “Chaappaa kee hidhaa isaa wajjin, ulee qabattee deemtus naa
kenni” jetteen. Innis wantoota kanneen kenneefii ishee wajjin ciise; isheenis ni

ulfoofte. 19 Erga achii deemtee booddee haguuggii ishee of irraa baaftee wayyaa
dhirsi ishee irraa duunaan uffattee turte sana deebiftee uffatte.
20 Yihuudaan waan qabsiisa kenne dubartii sana irraa deebifachuuf jedhee karaa
michuu isaa namicha Adulaam sanaatiin ilmoo re’ee ergeef; namichi garuu ishee hin
argine. 21 Namichis, “Sagaagaltuun* Enaayim bira, daandii irra taa’aa turte sun eessa
jirti?” jedhee warra achi jiraatan gaafate.

Jarri immoo deebisanii, “Sagaagaltuun tokko iyyuu as hin turre” jedhan.

22 Innis gara Yihuudaatti deebi’ee, “Ani dubartittii arguu hin dandeenye. Akka-
sumas warri iddoo sana jiraatan, ‘Sagaagaltuun tokko iyyuu as hin turre’ jedhan”
jedheen.

23 Yihuudaanis, “Isheen waan qabatte sana haa hambifattu; yoo kanaa achii nu
waan kolfaa taanaa. Kunoo ani ilmoo re’ee kana isheef ergeera; ati garuu ishee
dhabde” jedhe.

24 Gara ji’a sadii booddee, “Taamaar niitiin ilma keetii sagaagaltuu taateerti;
kanaanis isheen amma ulfoofteerti” jedhanii Yihuudaatti himan.

Yihuudaan immoo, “Gadi baasaatii ibiddaan gubaa ishee ajjeesaa!” jedhe.

25 Isheenis utuma gad baafamaa jirtuu, “Ani abbaa mi’a kanaa irraa ulfaa’eera”
jettee abbaa dhirsa isheetti ergaa ergite. Akkasumas, “Chaappaa fi kirriin isaa, uleen
kunis kan eenyuu akka ta’e mee ilaalii addaan baafadhu” jetteen.

26 Yihuudaanis mi’a kana beekee, “Sababii ani ilma koo Sheelaatti ishee hin
heerumsiisiniif, isheen na caalaa qajeeltuu dha” jedhe. Innis deebi’ee ishee bira hin
geenye.

27 Yommuu yeroon da’umsa ishee ga’etti, kunoo, ilmaan lakkuutu gadameessa
ishee keessa ture. 28 Utuu isheen da’umsa irra jirtuu inni tokko harka isaa gad
baafate; deessiftuunis qabdee, “Isa kanatu dura lafa ga’e” jettee kirrii diimaa harka
isaatti hiite. 29 Akkuma inni harka isaa ol deebifateen kunoo obboleessi isaa dhalate;
deessiftuunis, “Ati akkamiin ofuma keetiin cabsitee baate?” jette. Maqaan isaas
Faares jedhame. 30 Obboleessi isaa kan kirrii diimaa harka irraa qabu sunis ni
dhalate; innis Zaaraa jedhamee moggaafame.

# 39

### *Yoosefii fi Niitii Phoxiifaaraa*

1 Yeroo kanatti Yoosef Gibxitti geeffamee ture. Phoxiifaaraan namichi Gibxi
qondaalli Fara’oon kan ajajaa waardiyyaa ture sun Ishmaa’eeloota achi isa geessan
irraa isa bitate.
2 Yoosefis waan Waaqayyo isa wajjin tureef nama milkaa’aa ta’e; innis mana
gooftaa isaa namicha biyya Gibxi sanaa jiraate. 3 Gooftaan isaas akka Waaqayyo
isa wajjin jiruu fi akka Waaqayyo waan inni hojjetu hunda keessatti isa milkoomse
arge; 4 Yoosefis fuula gooftaa isaa duratti fudhatama argatee hojjetaa isaa amanamaa
ta’e. Phoxiifaaraanis mana isaa irratti isa muude; waan qabu hundumas akka inni
eeguuf imaanaa itti kenne. 5 Gaafa inni mana isaatii fi waan inni qabu hunda irratti
isa muudee jalqabee Waaqayyo sababii Yoosefiif jedhee mana namicha Gibxi sanaa
eebbise. Eebbi Waaqayyoos waan Phoxiifaaraan manaa fi alaa qabu hunda irra ture.
6 Kanaafuu Phoxiifaaraan waan qabu hunda harka Yoosef jala galche; innis waan
nyaatu qofa malee qabeenya isaa tokko illee hin beeku ture.

Yoosef dhaaba toleessaa fi miidhagaa ture; 7 niitiin gooftaa isaas waan kana
booddee ija ishee Yoosef irra buufattee, “Kottuu na bira ga’i!” jetteen.

---

* **38:21** 38:21 Sagaagaltuun dubartii waaqeffannaa waaqa sobaatiif jettee mana sagadaa keessatti gocha sagaagalummaa hojjettuu dha.

8 Inni garuu didee akkana isheen jedhe; “Kunoo, gooftaan koo waan mana keessa
jiru tokko illee hin beeku; inni waan qabu hunda natti kenneera. 9 Mana kana
keessatti namni na caalu tokko iyyuu hin jiru. Sababii ati niitii isaa taateef si’i
malee wanni gooftaan koo natti hin kennin tokko iyyuu hin jiru. Yoos ani akkamittan
waan hamaa akkasii raawwachuudhaan Waaqatti cubbuu hojjedha ree?” 10 Isheen
guyyuma guyyaan Yoosefitti dubbattu iyyuu, inni ishee bira ga’uu yookaan ishee
biratti argamuu illee ni dide.
11 Gaaf tokko Yoosef hojii isaa hojjechuuf mana seene; tajaajiltoota warra mana
sanaa keessaas namni tokko iyyuu achi hin turre. 12 Isheenis wayyaa isaa qabattee,
“Kottuutii na bira ga’i!” jetteen. Inni garuu wayyaa isaa isheetti gad lakkisee fiigee
manaa ba’e.
13 Isheenis yommuu akka inni wayyaa isaa isheetti gad lakkisee fiigee manaa ba’e
argitetti, 14 hojjettoota mana ishee waamtee akkana jetteen; “Kunoo, inni Ibricha kana
akka nutti taphatuuf fide! Inni na bira ga’uuf natti ol seennaan ani sagalee guddaan
iyye. 15 Innis gargaarsa barbaachaaf iyyuu koo dhageenyaan wayyaa isaa na biratti
dhiisee fiigee manaa ba’e.”
16 Isheen hamma gooftaan isaa galutti wayyaa isaa of bira keesse. 17 Akkana jettees
oduu kana isatti himte: “Garbichi Ibrichi ati nuu fidde sun natti taphachuuf natti
ol seene. 18 Garuu akkuma ani gargaarsa barbaachaaf iyyeen inni wayyaa isaa na
biratti dhiisee fiigee manaa ba’e.”
19 Gooftaan isaa yommuu oduu niitiin isaa, “Wanni garbichi kee na godhe kana”
jettee itti himte sana dhaga’etti aaree gubate. 20 Gooftaan isaas Yoosefin fuudhee
mana hidhaa iddoo hidhamtoonni mootichaa itti eegaman keessa buuse.
Ta’us yeroo Yoosef mana hidhaa keessa turetti, 21 Waaqayyo isa wajjin ture; fuula
ajajaa mana hidhaa sanaa durattis gaarummaa isaa itti argisiise; akka fudhatamas
argatu godhe. 22 Ajajaan mana hidhaa sunis namoota mana hidhaa jiran hunda irratti
Yoosefin muude; waan achitti hojjetamu hunda irrattis itti gaafatamaa isa godhe.
23 Sababii Waaqayyo isa wajjin turee fi waan inni hojjetu kam iyyuu isaa milkeesseef
ajajaan mana hidhaa sun waan itti gaafatama Yoosef jala jiru hundaaf yaaddoo tokko
illee hin qabu ture.

# 40

### *Yoosef Abjuu Hiikuu Isaa*

1 Kana booddee namichi mootii Gibxiitiif dhugaatii dhi’eessuu fi namichi buddeena
tolchu gooftaa isaanii mootii Gibxi sana gaddisiisan. 2 Fara’oonis qondaaltota
isaa lamaanitti jechuunis itti gaafatamaa dhugaatiitii fi itti gaafatamaa tolchaa
buddeenaatti aare; 3 innis mana ajajaa waardiyyaa keessa mana hidhaa iddoo Yoosef
itti hidhamee ture keessa isaan buuse. 4 Ajajaan waardiyyaa Yoosefitti isaan kenne;
Yoosefis isaan tajaajilaa ture.
Jarris guyyaa baay’ee mana hidhaa turan; 5 isaan lachanuu jechuunis namichi
mootii Gibxiitiif dhugaatii dhi’eessuu fi namichi buddeena tolchu tokkoon tokkoon
isaanii halkanuma tokko keessatti abjuu abjootan; tokkoon tokkoon abjuu sanaas
hiikkaa mataa isaa qaba ture.
6 Yoosef guyyaa itti aanu ganama isaan bira dhaqe; kunoo utuu gaddanii jiranuus
isaan arge. 7 Innis, “Fuulli keessan har’a maaliif akkana dukkanaa’a?” jedhee
qondaaltota Fara’oon warra isa wajjin mana gooftaa isaa keessa mana hidhaa turan
sana gaafate.
8 Isaanis, “Nu lachuu abjuu abjoonnee nama nuu hiiku dhabne” jedhaniin.
Kana irratti Yoosef, “Hiikkaan kan Waaqaa ti mitii? Mee abjuu keessan natti himaa”
jedheen.

9 Itti gaafatamaan dhugaatii sun akkana jedhee abjuu isaa Yoosefitti himate; "Abjuu
koo keessatti kunoo muka wayinii tokkotu fuula koo dura ture; 10 mukti wayinii sunis
damee sadii qaba ture. Innis akkuma lateen daraare; hurbuun ija isaas ni bilchaatte.
11 Xoofoon Fara'oon na harka ture; anis ija wayinii fuudhee xoofoo Fara'oonitti
cuunfee xoofoo sana harka Fara'oonitti kenne."
12 Yoosefis akkana jedheen; "Hiikkaan isaa kana; dameewwan sadan sun guyyaa
sadii. 13 Guyyaa sadii keessatti Fara'oon mataa kee ol qaba; taayitaa keettis si deebisa;
akkuma yeroo dhugaatii dhi'eessaafii turte sana atis xoofoo Fara'oon harka isaatti ni
kennita. 14 Garuu yeroo sitti tolutti na yaadadhu; waan gaariis naa godhi. Waa'ee koo
Fara'oonitti himiitii mana hidhaa kanaa na baasi. 15 Ana biyya Ibrootaatii hatanii na
fidaniitii; biyya kana keessattis ani waan boolla kana keessa na buusisu tokko illee
hin hojjenne."
16 Itti gaafatamaan buddeenaa sunis yommuu akka Yoosef abjuu sanaaf hiikkaa
gaarii kenne argetti Yoosefiin akkana jedhe; "Anis abjuu tokkon abjoodhe; kunoo
gundoowwan buddeenaa sadii mataa koo irra turan. 17 Gundoo ol aanu irra buddeena
gosa garaa garaa kan Fara'ooniif qopheeffametu ture; garuu simbirroonni matuma
koo irratti gundoo sana keessaa nyaachaa turan."
18 Yoosef immoo akkana jedhe; "Hiikkaan isaa kana; gundoowwan sadan sun
guyyaa sadii. 19 Guyyaa sadii keessatti Fara'oon mataa kee ol qaba; mukatti si
rarraasa. Simbirroonnis foon kee ni nyaatu."
20 Guyyaan sadaffaan guyyaa itti Fara'oon dhalate ture; Fara'oonis qondaaltota
isaatiif cidha qopheesse. Innis itti gaafatamaa dhugaatiitii fi itti gaafatamaa
buddeenaa sana fuula qondaaltota isaa duratti dhi'eesse: 21 Itti gaafatamaa dhugaatii
sana hojii isaatti deebise; namichi xoofoo sana ammas harka Fara'oonitti kenne. 22 Itti
gaafatamaa buddeenaa sana garuu akkuma Yoosef abjuu isaanii hiikeefitti rarraase.
23 Ta'us itti gaafatamaan dhugaatii sun Yoosefin ni irraanfate malee isa hin
yaadanne.

# 41

*Abjuu Fara'oon*

1 Erga waggaan lama guutuun darbee booddee Fara'oon abjuu tokko abjoote.
Kunoo inni qarqara laga Abbayyaa dhaabachaa ture. 2 Kunoo, saawwan babbareedoo
fi gagabbatoon torba laga Abbayyaa keessaa ol ba'an; isaanis shambaqqoo keessa
dheedaa turan. 3 Ammas kunoo, saawwan fofokkisoo fi huhuqqatoon kanneen
biraa torba laga Abbayyaa keessaa ol ba'anii saawwan ededa lagaa turan sana bira
dhadhaabatan. 4 Saawwan fofokkisoo fi huhuqqatoon sunis saawwan babbareedoo
fi gagabbatoo torban sana nyaatan. Fara'oonis hirribaa dammaqe.
5 Ammas deebi'ee rafee abjuu lammaffaa abjoote; kunoo mataan midhaanii
torba misee tolee somaa tokko irratti guddachaa ture. 6 Ergasii immoo kunoo
mataan midhaan qaqancaroo hobombolettii ba'aa biiftuutiin gubatanii torba biraa
bibbiqilan. 7 Mataan midhaan qaqancaroo sanaas mataa misee tole torban sana
lilliqimse; Fara'oonis hirribaa dammaqe; kunoo wanni sunis abjuu ture.
8 Ganama sana yaadni isaa ni jeeqame; inni nama ergee tolfattootaa fi beektota
Gibxi hunda waamsifate. Fara'oonis abjuu isaa isaanitti hime; garuu namni abjuu
sana isaaf hiikuu danda'u tokko illee hin argamne.
9 Ergasii itti gaafatamaan dhugaatii sun Fara'ooniin akkana jedhe; "Ani har'a
balleessaa koo yaadadheera. 10 Yeroo tokko Fara'oon tajaajiltoota isaatti aaree anaa fi
itti gaafatamaa buddeenaa sana mana ajajaa waardiyyaa keessatti hidhe. 11 Tokkoon
tokkoon keenya halkanuma tokkoon abjuu abjoonne; tokkoon tokkoon abjuu sanaas
hiikkaa mataa isaa qaba ture. 12 Ibrichi dargaggeessi tokko nu wajjin achi ture; innis

tajaajilaa ajajaa eegumsaa ture. Nu abjuu keenya itti himannaan inni tokkoo tokkoo
keenyaaf akkuma abjuu keenyaatti hiikkaa isaa nutti hime. 13 Akkuma inni nuu hiike
sana ta'e; ani iddoo kootti nan deebi'e; namichi kaanis ni fannifame."

14 Fara'oonis nama ergee Yoosefin waamsise; boolla hidhaa keessaa baasaniis dafanii isa fidan. Innis haaddatee uffata isaas geeddarratee fuula Fara'oon duratti dhi'aate.

15 Fara'oonis Yoosefiin, "Ani abjuu abjoodheen ture; garuu namni tokko iyyuu naa hiikuu hin dandeenye. Ani akka ati yeroo abjuu dhageessu hiikuu dandeessu dhaga'eera" jedhe.

16 Yoosef immoo, "Ani hiikuu hin danda'u; Waaqni garuu Fara'ooniif deebii nagaa ni kenna" jedhee Fara'ooniif deebise.

17 Fara'oonis Yoosefiin akkana jedhe; "Ani abjuu kootiin qarqara laga Abbayyaa
irra dhaabachaan ture; 18 Kunoo saawwan gagabbatoo fi babbareedoon torba lagicha
keessaa ol ba'anii shambaqqoo keessa dheedaa turan. 19 Isaan duubaan immoo
saawwan huhuqqatoo, baay'ee fofokkisoo fi qaqalloon biraa torba ol ba'an; ani
takkumaa saawwan fofokkisoo akkanaa guutummaa biyya Gibxi keessatti hin argine.
20 Saawwan huhuqqatoo fi fofokkisoon sun saawwan gagabbatoo duraan ol ba'an
torban sana nyaatan. 21 Garuu erga isaan nyaatanii booddee namni tokko illee
akka isaan saawwan sana nyaatan beekuu hin dandeenye; isaan akkuma utuu hin
nyaatiniin dura turan sana fofokkisoo turaniitii. Anis hirribaa nan dammaqe.

22 "Akkasumas ani abjuu kootiin mataa midhaanii torba kan misee fi gaggaarii
somaa tokko irratti guddachaa jiru nan arge. 23 Isaan duubaanis kunoo mataan
midhaanii cocoollagaan, qaqallaan kan hobombolettii ba'a biiftuutiin gubate torba
ol ba'e. 24 Mataawwan midhaanii qaqal'aan sun mataa midhaanii gaggaarii torban
sana liqimsan; anis waan kana tolchitootatti nan hime; garuu namni tokko iyyuu naa
ibsuu hin dandeenye."

25 Yoosef immoo Fara'ooniin akkana jedhe; "Abjuun Fara'oon lamaanuu tokkuma.
Waaqni waan hojjechuuf jiru Fara'oonitti mul'iseera. 26 Saawwan babbareedoon
torba waggaa torba; mataawwan midhaanii gaggaarii torbas waggaa torba; abjuun
sun tokkuma. 27 Saawwan qaqalloo fi fofokkisoon torban duubaan ol ba'anis waggaa
torba; mataawwan midhaanii qaqancaroon hobombolettii ba'a biiftuutiin gubatan
torban immoo waggoota beelaa torba.

28 "Wanni kun akkuma ani Fara'oonitti himee dha. Waaqni waan hojjechuuf jiru
Fara'oonitti argisiiseera. 29 Barri quufaa guddaan isaa torba biyya Gibxi guutuutti ni
dhufa; 30 isaan booddeedhaan garuu waggoonni beelaa torba ni dhufu. Quufni biyya
Gibxi hundi ni irraanfatama; beelli sunis biyya balleessa. 31 Waan beelli duubaan
dhufu sun baay'ee hamaa ta'uuf quufni biyyattii hin yaadatamu. 32 Abjuun kun bifa
lamaan Fara'oonitti kennamuun isaa waan dubbichi Waaqaan murteeffameef dha;
Waaqnis waan kana dafee ni raawwata.

33 "Kanaafuu Fara'oon nama hubataa fi beekaa tokko filatee biyya Gibxi irratti
haa muudu. 34 Fara'oon akka isaan waggoota quufaa torban keessa midhaan biyya
Gibxiitii galfamu harka shan keessaa harka tokko walitti qabaniif qondaaltota biyya
irratti haa muudu. 35 Isaanis waggoota gaarii dhufuuf jiran kana keessa midhaan
hunda walitti haa qaban; akka nyaataaf ta'uufis midhaan kana taayitaa Fara'oon
jalatti magaalaawwan keessatti haa kuusan; haa eeganis. 36 Midhaan kunis akka
biyyattiin beelaan hin badneef waggoota beelaa torban Gibxitti dhufuuf jiru keessa
akka fayyaduuf biyyattiidhaaf ol haa kaa'amu."

37 Dubbichis Fara'oonii fi qondaaltota isaa hunda biratti gaarii ture. 38 Fara'oonis,
"Nama akka namicha kanaa kan Hafuurri Waaqaa keessa jiru argachuu dandeenyaa
ree?" jedhee isaan gaafate.

39 Fara'oonis Yoosefiin akkana jedhe; "Erga Waaqni waan kana hunda sitti mul'ise,
namni akka kee hubataa fi beekaa ta'e tokko iyyuu hin jiru. 40 Ati masaraa koo irratti
itti gaafatamaa taata; sabni koo hundinuus ajaja kee jalatti bula. Ani ulfina teessoo
qofaan si caala."

### *Yoosef Gibxi Irratti Muudame*

41 Fara'oonis Yoosefiin, "Ilaa, ani biyya Gibxi hunda irratti si muudeera" jedhe.
42 Ergasii Fara'oon qubeelaa chaappaa isaa quba isaa irraa baasee quba Yoosefitti
kaa'e. Uffata quncee talbaa haphii irraa hojjetame isatti uffise; amartii warqee
morma isaatti kaa'e. 43 Innis gaarii isaa isa lammaffaa irra isa teessise; namoonnis,
"Sagadaa!" jechaa fuula isaa dura deemanii iyyaa turan; akkanaan Fara'oon biyya
Gibxi hunda irratti isa muude.
44 Ergasiis Fara'oon Yoosefiin, "Ani Fara'oonii dha; garuu ajaja kee malee namni
guutummaa Gibxi harka isaa yookaan miilla isaa sochoosu tokko iyyuu hin jiru"
jedhe. 45 Fara'oonis Yoosefiif maqaa Zaafenaat-Phane'aa jedhamu baase; intala
Phooxiiferaa lubicha magaalaa Ooni kan Aasenati jedhamtu illee itti heerumsiise.
Yoosefis biyya Gibxi hunda keessa naanna'e.

46 Yoosef yeroo tajaajila Fara'oon mooticha Gibxi jalqabetti nama waggaa soddomaa
ture; innis fuula Fara'oon duraa ba'ee deemee biyya Gibxi hunda keessa nanaanna'e.
47 Waggoota quufaa torban sana keessa lafti midhaan akka malee baay'atu kennite.
48 Yoosefis midhaan waggoota torban sana keessa Gibxii galfame hunda walitti qabee
magaalaawwan keessatti kuuse. Midhaan lafa qotiisaa naannoo magaalaas tokkoo
tokkoo magaalaa sanaa keessatti kuuse. 49 Yoosefis midhaan baay'inni isaa guddaa
akka cirracha galaanaa ta'e kuuse. Waan midhaan sun safaramuu hin danda'aminiif
inni safaruu dhiise.
50 Yoosef utuu waggoonni beelaa sun hin dhufin dura Aasenati intala Phooxiiferaa
lubicha magaalaa Ooni irraa ilmaan lama dhalche. 51 Yoosefis, "Waaqni rakkina
koo hundaa fi mana abbaa koo hunda na irraanfachiiseera" jedhee maqaa ilma isaa
hangaftichaa Minaasee jedhee moggaase. 52 "Waaqni biyya ani itti rakkadhe keessatti
na baay'iseera" jedhee ilma isaa isa lammaffaa immoo Efreem jedhee moggaase.

53 Gibxi keessatti waggoonni quufaa torban sun darbee, 54 akkuma Yoosef dubbate
sana waggoonni beelaa torba jalqabe. Biyyoota biraa hunda keessa beelatu ture;
biyya Gibxi guutuu keessa garuu midhaanitu ture. 55 Yeroo Gibxi guutuun beela'uu
jalqabetti namoonni midhaan barbaadanii Fara'oonitti iyyatan; Fara'oon immoo
warra Gibxi hundumaan, "Yoosef bira dhaqaatii waan inni isinitti himu godhaa"
jedhe.

56 Beelli guutuummaa biyyattii keessa babal'annaan Yoosef mankuusaalee hun-
dumaa banee namoota Gibxitti midhaan gurgure; beelli Gibxi hunda keessatti
hammaatee tureetii. 57 Waan guutuu addunyaa irratti beelli hammaateef biyyoonni
hundinuu Yoosef irraa midhaan bitachuuf gara Gibxi dhufaa turan.

## 42

### *Obboloonni Yoosef Gibxi Dhaqan*

1 Yaaqoob yommuu akka Gibxi keessa midhaan jiru dhaga'etti, ilmaan isaatiin, "Isin
maaliif wal ilaaltu?" jedhe. 2 Itti fufees, "Kunoo ani akka Gibxi keessa midhaan jiru
dhaga'eera. Akka nu du'a jalaa baanee jiraannuuf gad bu'aatii achii midhaan nuu
bitaa" jedhe.

3 Obboloota Yoosef keessaa kudhan Gibxi keessaa midhaan bituuf gad bu'an.
4 Yaaqoob garuu balaatu isa irra ga'a jedhee waan sodaateef obboleessa Yoosef

Beniyaamin isaan wajjin hin ergine. 5 Beelli biyya Kana'aan keessa waan tureef
ilmaan Israa'elis warra midhaan bitachuu dhaqan wajjin deeman.

6 Yoosefis bulchaa biyyattii kan uummata biyyattii hundatti midhaan gurguru ture.
Obboloonni Yoosefis yommuu achi ga'anitti fuula isaaniitiin lafatti gombifamanii
sagadaniif. 7 Yoosef akkuma obboloota isaa argeen isaan beeke; garuu akkuma nama
isaan hin beekneetti afaan hamaa isaanitti dubbatee, “Isin eessaa dhuftan?” jedhee
isaan gaafate.

Jarris, “Midhaan bitachuuf jennee Kana'aanii dhufne” jedhanii deebisan.

8 Yoo Yoosef obboloota isaa beeke iyyuu jarri isa hin beekne. 9 Innis abjuu
waa'ee isaanii abjoote sana yaadatee, “Isin basaastota dadhabbii biyyattii basaasuuf
dhuftanii dha!” jedheen.

10 Isaan immoo akkana jedhanii deebisan; “Yaa gooftaa akkas miti; nu garboonni
kee midhaan bitachuu dhufne. 11 Nu hundi ilmaan abbaa tokkoo ti; nu garboonni
kee namoota amanamoo dha malee basaastota miti.”

12 Innis, “Akkas miti; isin dadhabbii biyyattii basaasuu dhuftan” jedheen.

13 Isaan garuu akkana jedhanii deebisan; “Nu garboonni kee obboloota kudha lama,
ilmaanuma abbaa tokkoo kan biyya Kana'aan jiraatuu ti. Kunoo quxisuun hunda
keenyaa amma abbaa keenya bira jira; inni tokko garuu hin jiru.”

14 Yoosef garuu akkana jedheen; “Akkuma ani isiniin jedhe sana isin basaastota!
15 Akki isin ittiin qoramtan kana; ani maqaa Fara'ooniin nan kakadha; yoo obboleessi
keessan quxisuun sun as dhufe malee isin asii hin sochootan. 16 Akka inni dhaqee
obboleessa keessan fiduuf of keessaa nama tokko ergaa; isin warri haftan immoo
mana hidhaatti galfamtu; akkasiinis dubbiin keessan qoratamee akka dhugaa ta'ee
fi akka dhugaa hin ta'in ni ilaalama; yoo kanaa achii, ani maqaa Fara'ooniin nan
kakadha; isin dhugumaan basaastota!” 17 Innis hunda isaanii guyyaa sadii mana
hidhaa keessa turse.

18 Guyyaa sadaffaatti Yoosef akkana isaaniin jedhe; “Isin waan kana godhaa;
ni jiraattu; ani Waaqa nan sodaadhaatii. 19 Isin yoo namoota amanamoo taatan
obboloota keessan keessaa tokko as mana hidhaa haa turu; warri kaan garuu deemaa;
maatii keessan kanneen beela'aniif midhaan geessaa. 20 Garuu obboleessa keessan
quxisuu naa fidaa; akkasiin dubbiin keessan ni mirkaneeffama; isinis hin duutan.”
Isaanis akkasuma godhan.

21 Isaanis akkana waliin jedhan; “Nu dhugumaan sababii obboleessa keenyaatiif
adabamaa jirra. Yeroo inni nu kadhatetti lubbuun isaa hammam akka dhiphachaa
turte argineerra; nu garuu isa dhaga'uu didne; dhiphinni kun kanaaf nutti dhufe.”

22 Ruubeen immoo, “Ani, ‘Gurbaa kana hin miidhinaa' jedhee isinitti hin himnee?
Isin garuu na dhaga'uu diddan! Kunoo nu dhiiga isaatti ni gaafatamna” jedhe.
23 Sababii Yoosef karaa nama afaan hiikuutiin isaanitti dubbachaa tureef isaan akka
inni waan isaan dubbatan hubatu hin beekne.

24 Yoosef achi isaan irraa garagalee boo'uu jalqabe; ergasii immoo isaanitti
garagalee isaanitti dubbate. Simi'ooninis isaan keessaa baasisee fuuluma isaanii
duratti hiisise.

25 Yoosef akka qalqalloo isaaniitti midhaan guutaniif, akka meetii tokkoo tokkoo
isaanii deebisanii qalqalloo isaanii keessa isaaniif kaa'anii fi akka karaa isaaniitiif
galaa isaaniif kennan ajaje. Erga wanni kun isaaniif godhamee booddee 26 jarri
midhaan isaanii harroota isaaniitti fe'atanii qajeelan.

27 Isaan keessaa inni tokko iddoo bulanitti harree isaatiif nyaata kennuuf jedhee
qalqalloo isaa bane; kunoo afaan qalqalloo keessattis meetii isaa argate. 28 Innis
obboloota isaatiin, “Meetiin koo naa deebi'eera; kunoo qalqalloo koo keessa jira”
jedhe.

Kana irratti isaan na’anii walitti garagalanii hollachaa, “Wanni Waaqni nutti hojjete
kun maali?” jedhan.

29 Isaanis gara biyya Kana’aan abbaa isaanii Yaaqoob bira dhufanii waan isaan irra
ga’e hunda isatti himan; akkanas jedhan; 30 “Namichi gooftaa biyya sanaa ta’e afaan
hamaa nutti dubbatee akka waan nu biyyattii basaasuu dhaqneetti nu lakkaa’e. 31 Nu
garuu akkana jenneen; ‘Nu namoota amanamoo dha malee basaastota miti. 32 Nu
obboloota kudha lama ilmaanuma abbaa tokkoo ti; inni tokko hin jiru; quxisuun
hunda keenyaa immoo abbaa keenya bira biyya Kana’aan jira.’

33 “Namichi gooftaa biyya sanaa ta’e immoo akkana nuun jedhe; ‘Akki ani akka
isin namoota amanamoo taatanii fi hin ta’in ittiin beeku kana; obboloota keessan
keessaa isa tokko as na biratti dhiisaatii maatii keessan kan beela’aniif midhaan
geessaa. 34 Garuu akka ani akka isin namoota amanamoo malee basaastota hin
ta’in beekuuf obboleessa keessan isa quxisuu sana naa fidaa. Ergasii ani obboleessa
keessan deebisee isinii kenna; isinis biyya kana keessatti daldalachuu ni dandeessu.’ ”

35 Yommuu isaan qalqalloo isaanii keessaa midhaan garagalchanitti, kunoo meetiin
tokkoo tokkoo isaanii hidhaa hidhaan qalqalloo isaanii keessa ture. Isaanii fi abbaan
isaanii yeroo meetii hidhame sana arganitti ni rifatan. 36 Abbaan isaanii Yaaqoobis,
“Isin ijoollee koo na dhabsiiftan. Yoosef hin jiru; Simi’oonis hin jiru. Amma immoo
Beniyaamin fudhachuu barbaaddu. Wanni hundi natti hammaateera!” jedheen.

37 Ruubeen immoo abbaa isaatiin, “Yoo ani deebisee isa siif fiduu baadhe ilmaan
koo lamaan ajjeesuu ni dandeessa; isa imaanaa natti kenni; ani deebisee isa nan fida”
jedhe.

38 Yaaqoob garuu akkana jedhe; “Ilmi koo isin wajjin achi gad hin bu’u; obboleessi
isaa du’eera; isa qofatu hafe. Yoo karaa keessan irratti balaan isa irra ga’e, isin akka
arriin koo gaddaan awwaala seenu gootu.”

# 43

*Obboloonni Yoosef Lammata Gibxitti Deebi’an*

1 Amma illee beelli biyyattiitti baay’ee hammaatee ture. 2 Erga isaan midhaan biyya
Gibxiitii fidan sana nyaatanii fixanii booddee abbaan isaanii, “Ammas dhaqaatii
midhaan xinnoo dabalaa nuu bitaa” jedheen.

3 Yihuudaan immoo akkana isaan jedhe; “Namichi sun, ‘Yoo obboleessi keessan isin
wajjin dhufe malee isin lammata ija koo hin argitan’ jedhee of eeggannoo cimaa nuu
kenne. 4 Yoo ati obboleessa keenya nu wajjin ergite nu dhaqnee midhaan siif binna.
5 Sababii namichi sun, ‘Yoo obboleessi keessan isin wajjin dhufe malee isin lammata
ija koo hin argitan’ nuun jedheef, yoo ati isa ergite malee nu gad hin buunu.”

6 Israa’el immoo, “Isin maaliif akka obboleessa biraa qabdan namichatti himuud-
haan rakkina natti fiddan?” jedhee gaafate.

7 Isaanis akkana jedhanii deebisan; “Namichi waa’ee mataa keenyaatii fi waa’ee
maatii keenyaa jabeessee nu gaafate. Innis, ‘Abbaan keessan amma iyyuu jiraa?
Obboleessa biraa qabduu?’ jedhee nu gaafate; nu gaaffiidhuma isaa deebifneef. Yoos
akka inni, ‘Obboleessa keessan as fidaa’ nuun jedhu akkamiin beekuu dandeenya
ree?”

8 Yihuudaanis abbaa isaa Israa’eliin akkana jedhe; “Akka nu, atii fi ijoolleen keenya
du’a jalaa baanee jiraannuuf gurbicha na wajjin ergi; nu kaanee deemnaatii. 9 Ani
wabii isaafin ta’a; waa’ee isaas anuma mataa koo gaafachuu ni dandeessa. Yoo ani
deebisee isa siif fidee fuula kee dura dhaabuu baadhe, ani bara jireenya koo guutuu
fuula kee duratti balleessaa kanatti nan gaafatama. 10 Utuu turuu baannee silaa yoona
yeroo lama dhaqnee deebineerra ture.”

11 Kana irratti abbaan isaanii Israa'el akkana isaaniin jedhe; "Erga akkas ta'ee
waan kana godhaa; oomisha biyya kanaa filatamaa keessaa kennaa tokko tokko
jechuunis haphee dibatan xinnoo ishee, damma xinnaa isaa, urgooftuu fi qumbii
xinnoo ishee, ocholoonii fi lawuzii xinnoo ishee geessaatii namichaaf kennaa. 12 Isin
waan meetii afaan qalqalloo keessanii keessa kaa'amee isinii deebi'e sana deebisuu
qabdaniif meetii sana harka lama fudhadhaatii deemaa; meetiin sun dogoggoraan
dhufe ta'aatii. 13 Obboleessa keessanis fudhadhaatii dafaa gara namichaatti deebi'aa.
14 Akka inni obboleessa keessan kaanii fi Beniyaam illee isin wajjin deebisee erguuf
Waaqni Waan Hunda Danda'u akka namichi garaa isinii laafu haa godhu. Ani yoo
ijoollee dhabe illee ijoollee nan dhaba."
15 Namoonni sunis kennaawwan sana, meetii sana harka lamaa fi Beniyaami-
nis fudhatanii ariitiidhaan Gibxitti gad bu'anii fuula Yoosef dura dhadhaabatan.
16 Yoosefis yommuu Beniyaamin isaan biratti argetti hangafa hojjettoota mana
isaatiin, "Namoota kana mana kootti geessi; horii tokko qalii nyaata qopheessi; isaan
sa'aatii ja'atti na wajjin nyaatuutii" jedhe.
17 Namichi sunis akkuma Yoosef isa ajaje godhe; jara sanas mana Yoosefitti geesse.
18 Namoonni sun yeroo mana Yoosefitti geeffamanitti sodaatanii akkana jedhan; "Nu
sababii meetii yeroo jalqabaa deebi'ee afaan qalqalloo keenyaa keessatti argame
sanaatiif as fidamne; inni nu rukutee, nu mo'atee, akka garbootaatti nu qabatee
harroota keenya fudhachuu barbaada."
19 Kanaafuu jarri gara hangafa hojjettoota Yoosefitti ol ba'anii balbala manaa
duratti itti dubbatan. 20 Akkanas jedhan; "Yaa gooftaa, nu yeroo jalqabaa midhaan
bitachuuf as gad buunee turre. 21 Nus yeroo iddoo bullu geenyee qalqalloo keenya
bannetti tokkoon tokkoon keenya afaan qalqalloo keenyaa keessatti meetii keenya
akkuma jirutti arganne. Kanaafuu meetii sana deebifnee fidnee dhufneerra. 22 Meetii
biraas ittiin midhaan bitachuuf fidnee dhufneerra. Eenyu akka meetii keenya
qalqalloo keenya keessa nuu kaa'es hin beeknu."
23 Innis deebisee, "Homaa miti; hin sodaatinaa. Waaqni keessan, Waaqni abbaa
keessanii qalqalloo keessanitti badhaadhummaa isinii naqeera; meetiin keessan na
ga'ee jira" jedheen. Ergasiis Simi'oonin gara isaaniitti gad baase.
24 Hangafni hojjettootaa sunis jara sana mana Yoosefitti geessee akka isaan miilla
isaanii dhiqataniif bishaan kenneef; harroota isaaniitiif immoo okaa kenne. 25 Isaanis
achitti akka nyaatan waan dhaga'aniif dhufaatii Yoosef kan sa'aatii ja'aatiif kennaa
isaanii qopheeffatan.
26 Yeroo Yoosef manatti galetti isaan kennaa manatti ol galchanii turan sana
kennaniif; fuula isaa durattis lafatti gombifamanii harka fuudhan. 27 Innis nagaa
isaan gaafatee, "Abbaan keessan jaarsi isin waa'ee isaa natti himtan sun akkam?
Inni amma iyyuu jiraa?" jedheen.
28 Jarris, "Tajaajilaan kee abbaan keenya amma iyyuu ni jira; nagumas" jedhanii
deebisan. Ulfina isaaf kennuufis gad jedhan.
29 Innis ol ilaalee obboleessa isaa, ilma haadha isaa Beniyaamin argee, "Inni kun
obboleessa keessan quxisuu isin waa'ee isaa natti himtan sanaa?" jedhee gaafate. Itti
fufees, "Ilma ko, Waaqni si haa eebbisu" jedheen. 30 Yoosef yommuu obboleessa isaa
argetti garaan raafamee dafee gad ba'e; boo'uu barbaadees kutaa mana isaa seenee
achitti boo'e.
31 Ergasiis fuula isaa dhiqatee gad ba'e; of jajjabeessees, "Nyaanni haa dhi'aatu"
jedhe.
32 Jarris sababii warri Gibxi Ibroota wajjin hin nyaanneef Yoosefiif kophaatti,
obboloota isaatiif kophaatti, warra Gibxi kanneen isa wajjin nyaataniifis kophaatti
dhi'eessan; Ibroota wajjin nyaachuun warra Gibxi biratti jibbisiisaa tureetii.

33 Namoonni sunis akkuma umurii isaaniitti hangafaa jalqabanii hamma quxisuutti
fuula isaa dura tataa’anii dinqifatanii wal ilaalan. 34 Maaddii Yoosef irraas nyaanni
qoodameef; qoodni Beniyaam garuu qooda tokko tokko isaaniitiif kenname dachaa
shan ta’a ture. Jarris akkasiin Yoosef wajjin dhuganii itti ho’e.

# 44

*Xoofoo Meetii Qalqalloo Keessaa*

1 Yoosefis akkana jedhee hangafa hojjettoota mana isaa ajaje; “Qalqalloo jara kanaa
hamma baachuu danda’utti midhaan itti guuti; meetii tokkoo tokkoo isaaniis afaan
qalqalloo isaanii keessa kaa’i. 2 Xoofoo koo isa meetii irraa hojjetame immoo meetii
inni ittiin midhaan bitachuu dhufe wajjin afaan qalqalloo isa quxisuu sanaa keessa
kaa’i.” Namichis akkuma Yoosef isa ajaje godhe.

3 Namoonni sun akkuma lafti bariiteen harroota isaanii wajjin geggeeffaman.
4 Utuma isaan magaalaa sana irraa hin fagaatin Yoosef hangafa hojjettoota isaatiin
akkana jedhe; “Dafii jara kana duukaa bu’i; yommuu qaqqabdutti immoo akkana
jedhiin; ‘Isin maaliif waan gaarii waan hamaadhaan deebiftu? 5 Xoofoon kun xoofoo
gooftaan koo ittiin dhuguu fi ittiin waa himu mitii? Isin waan kana gochuudhaan
waan hamaa hojjettan.’ ”

6 Innis yommuu isaan qaqqabetti waanuma kana isaanitti dubbate. 7 Jarris akkana
isaan jedhan; “Gooftaan koo maaliif dubbii akkanaa dubbata? Waan akkanaa
hojjechuun tajaajiltoota kee irraa haa fagaatu! 8 Kunoo nu meetii afaan qalqalloo
keenyaa keessatti arganne iyyuu biyya Kana’aaniitii deebifnee siif fidne. Yoos nu
maaliif mana gooftaa keetiitii meetii yookaan warqee hanna ree? 9 Tajaajiltoota kee
keessaa namni wanni kun biratti argame kam iyyuu haa du’u; nu warri hafne immoo
garboota gooftaa koo ni taana.”

10 Inni immoo jaraan, “Amma akkuma isin jettan haa ta’u; abbaan wanti kun biratti
argame garbicha naaf ta’a; isin warri kaan immoo gad dhiifamtu” jedhe.

11 Tokkoon tokkoon isaanii dafanii qalqalloo isaanii lafa keeyyatanii hiikan.
12 Hangafni hojjettootaa sunis hangafaa jalqabee hamma quxisuutti sakatta’e.
Xoofoon sunis qalqalloo Beniyaam keessatti argame. 13 Kana irratti isaan uffata
isaanii tarsaasan. Hundi isaanii harroota isaanii fe’atanii magaalattiitti deebi’an.

14 Yoosef yeroo Yihuudaa fi obboloonni isaa ol seenanitti amma iyyuu mana keessa
ture; isaanis fuula isaa duratti kukkufan. 15 Yoosefis, “Wanti isin hojjettan kun maal?
Akka namni akka kootii hooda himuudhaan waa arguu danda’u isin hin beektanii?”
isaaniin jedheen.

16 Yihuudaan immoo akkana jedhee deebise; “Nu gooftaa kootiin maal jechuu
dandeenya? Nu maal dubbachuu dandeenya? Nu qulqulluu ta’uu keenya akkamiin
mirkaneessuu dandeenya? Waaqni balleessaa garboota keetii ifatti baaseera. Kunoo
nu garboota gooftaa koo ti; nu hundi keenya, namni xoofoon sun biratti argames
garboota kee ti.”

17 Yoosef garuu, “Waan akkanaa hojjechuun narraa haa fagaatu! Nama xoofoon
biratti argame qofatu garbicha koo ta’a. Warri haftan garuu nagaadhaan gara abbaa
keessaniitti deebi’aa” jedhe.

18 Yihuudaan immoo Yoosefitti dhi’aatee akkana jedhe: “Maaloo gooftaa ko, akka
garbichi kee waan tokko gooftaa kootti dubbatu eeyyamiif. Ati akkuma Fara’oon
taatus garbicha keetti hin aarin. 19 Gooftaan koo, ‘Isin abbaa yookaan obboleessa
qabduu?’ jedhee garboota isaa gaafatee ture. 20 Nus, ‘Abbaa dulloomaa tokko qabna;
ilmi quxisuun bara dulluma isaa keessa isaaf dhalate tokkos jira. Obboleessi isaas

du'eera; ijoollee haati isaa deesse keessaa isa qofatu hafe; abbaan isaa isa jaallata'
jennee turre.
21 “Atis garboota keetiin, ‘Akka ani ija kootiin isa arguuf naa fidaa’ jette. 22 Nus
gooftaa kootiin, ‘Mucichi abbaa isaa dhiisee deemuu hin danda'u; yoo inni isa
dhiisee biraa deeme abbaan isaa ni du'a’ jenne. 23 Ati immoo garboota keetiin,
‘Yoo obboleessi keessan inni quxisuun isin wajjin dhufuu baate, isin lammata fuula
koo hin argitan’ jette. 24 Nus yeroo gara garbicha kee abbaa kootti deebinetti waan
gooftaan koo jedhe isatti himne.
25 “Abbaan keenya, ‘Ammas dhaqaatii midhaan xinnoo dabalaa nuu bitaa’ nuun
jedhe. 26 Nu garuu, ‘Nu dhaquu hin dandeenyu; yoo obboleessi keenya inni quxisuun
nu wajjin jiraate qofa dhaqna. Yoo obboleessi keenya inni quxisuun nu wajjin dhaquu
baate nu fuula namichaa arguu hin dandeenyu’ jenne.
27 “Abbaan koo garbichi kee immoo akkana nuun jedhe; ‘Akka niitiin koo ilmaan
lama naa deesse isin ni beektu. 28 Isaan keessaas inni tokko na biraa ba'e; anis, “Inni
dhugumaan cicciramеera” nan jedhe. Ani ergasii isa hin argine. 29 Yoo isin isa kanas
na duraa fuutanii balaan isa irra ga'e, isin akka arriin koo gaddaan awwaala seenu
gootu.’
30 “Kanaafuu amma yeroo ani gara garbicha kee abbaa kootti deebi'utti, yoo
mucichi nu wajjin jiraachuu baate abbaan koo kan jireenyi isaa jireenya mucichaatiin
walitti hidhame sun, 31 akka mucichi nu wajjin hin jirre argee du'a. Nu garboonni
kees akka arriin abbaa keenya garbicha keetii gaddaan awwaala seenu goona. 32 Ani
garbichi kee akka mucaan kun nagaadhaan deebi'u abbaa koo duratti wabii ta'ee,
‘Yaa abbaa ko, yoo ani deebisee isa siif fiduu baadhe, ani bara jireenya koo guutuu
fuula abbaa koo duratti balleessaa kanatti nan gaafatama!’ jedhe.
33 “Egaa amma ani garbichi kee iddoo mucichaa garbicha gooftaa koo ta'ee asitti
nan hafa; mucichi immoo obbolootа isaa wajjin haa deebi'u. 34 Yoo mucichi na wajjin
hin jiraatin ani akkamittin gara abbaa kootii deebi'uu danda'a? Waawuu; akka ani
gadda abbaa kootti dhufu argu na hin godhin.”

# 45

*Yoosef Of Beeksise*

1 Kana irratti Yoosef namoota hunda duratti of qabuu dadhabee, “Namoota hunda
fuula koo duraa gad yaasaa!” jedhee iyye. Kanaaf yommuu Yoosef obboloota isaatti
of beeksisetti namni tokko iyyuu isa bira hin turre. 2 Sababii inni guddisee boo'eef
warri Gibxi ni dhaga'an; warra masaraa Fara'oon birattis ni dhaga'ame.
3 Yoosefis obboloota isaatiin, “Ani Yoosef; abbaan koo amma iyyuu jiraa?” jedhee
gaafate. Obboloonni isaa garuu sababii fuula isaa duratti na'anii turaniif deebii isaaf
kennuu hin dandeenye.
4 Yoosefis obboloota isaatiin, “Mee as natti dhi'aadhaa” jedhe. Isaan isatti
dhi'aannaan inni akkana jedhe; “Ani Yoosef obboleessa keessan isa isin Gibxitti
gurgurtan sanaa dha! 5 Ammas sababii asitti na gurgurtaniif hin gaabbinaa; ofittis
hin aarinaa. Waaqni lubbuu baraaruuf jedhee isin dura na ergeeraatii. 6 Waggoota
lamaan kana beelatu biyyattii keessa ture; waggoota shanan dhufan keessas lafa
qotachuu fi midhaan galfachuun hin jiru. 7 Waaqni lafa irratti sanyii isiniif hambisuu
fi furii guddaadhaan lubbuu keessan oolchuuf jedhee isin dura na erge.
8 “Waaqatu as na erge malee isin miti. Inni Fara'ooniif abbaa na godhe; warra
mana isaa jiran hunda irratti gooftaa, biyya Gibxi hunda irratti immoo bulchaa na
godhe. 9 Ammas dafaa gara abbaa kootti deebi'aatii akkana isaan jedhaa; ‘Ilmi kee
Yoosef akkana jedha: Waaqni Gibxi hunda irratti gooftaa na godheera. Gara kootti

gad bu’i; hin turinis. 10 Ati biyya Gooshen keessa ni jiraatta; ati, ijoolleen keetii fi
ijoolleen ijoollee keetii, bushaayeen kee, loon keetii fi wanni ati qabdu hundi natti
dhi’aattanii jiraatu. 11 Sababii amma iyyuu waggaan beelaa shan dhufaa jiruuf ani
achitti sin soora; yoo kanaa achii atii fi warri mana kee jiraatan, wanni ati qabdu
hundinuus ni rakkattu.’

12 “Akka namni isinitti dubbachaa jiru kun anuma ta’e kunoo, iji keessan, iji
obboleessa koo Beniyaamis ni arga. 13 Ulfina Gibxi keessatti naa kenname hundaa fi
waan argitan hunda abbaa kootti himaa. Abbaa koos dafaatii as fidaa.”

14 Ergasiis morma obboleessa isaa Beniyaamitti marmee boo’e; Beniyaamis boo’aa
isa hammate. 15 Yoosefis obboloota isaa hunda dhungatee itti boo’e. Ergasii
obboloonni isaa isa wajjin haasa’an.

16 Yommuu akka obboloonni Yoosef dhufan masaraa Fara’oonitti dhaga’ametti,
Fara’oonii fi qondaaltonni isaa ni gammadan. 17 Fara’oonis Yoosefiin akkana jedhe;
“Obboloota keetiin akkana jedhi; ‘Waan kana godhaa: Horii keessan fe’adhaa biyya
Kana’aaniitti deebi’aatii 18 abbaan keessanii fi maatiiwwan keessan natti fidaa. Ani
lafa biyya Gibxi keessaa lafa hunda caalu isiniif nan kenna. Isin cooma biyyattii ni
nyaattu.’

19 “Akkasumas akkana jedhii isaanitti himi; ‘Waan kana godhaa: Ijoollee keessani-
ifis, niitota keessaniifis biyya Gibxiitii gaariiwwan fudhadhaa; abbaa keessanis
fidaatii kottaa. 20 Waa’ee qabeenya keessanii hin yaadda’inaa; wanni biyya Gibxi
guutuu keessaa waan hunda caalu kan keessan ta’aatii.’ ”

21 Ilmaan Israa’elis akkasuma godhan. Yoosefis akkuma Fara’oon isa ajajetti
gaariiwwan kenneefii karaa isaaniitiif illee galaa galaaseef. 22 Tokkoo tokkoo
isaaniitiif wayyaa kenne; Beniyaamiif garuu meetii saqilii dhibba sadiitii fi wayyaa
irraa jalaa shan kenne. 23 Abbaa isaatiif immoo harroota, wanni biyya Gibxi
gaggaariin itti fe’ame kudhan, akkasumas harroota dhaltuu midhaan, buddeenaa fi
galaan biraa karaa isaatiif itti fe’ame kudhan erge. 24 Innis akkasitti obboloota isaa
erge; innis yeroo isaan qajeelanitti, “Karaatti wal hin lolinaa!” jedheen.

25 Isaanis Gibxi keessaa ol ba’anii gara biyya Kana’aan abbaa isaanii Yaaqoob bira
dhaqan. 26 Isaanis, “Yoosef amma iyyuu jira! Biyya Gibxi guutuu iyyuu isumatu
bulcha” jedhaniin. Yaaqoob immoo naasuudhaan of wallaale; jara amanuus hin
dandeenya. 27 Garuu yeroo jarri waan Yoosef isaaniin jedhe hunda isatti himanii
innis gaariiwwan Yoosef isa fichisiisuuf ergeef sana argetti lubbuun abbaa isaanii
Yaaqoob ni bayyanatte. 28 Israa’elis, “Na ga’a! Ilmi koo Yoosef amma iyyuu jira. Anis
utuun hin du’in dhaqee isa nan arga” jedhe.

# 46

### *Yaaqoob Biyya Gibxi Dhaqe*

1 Israa’el waan qabu hunda fudhatee ka’e; yeroo Bersheebaa ga’ettis Waaqa abbaa
isaa Waaqa Yisihaaqiifis aarsaa dhi’eesse.

2 Waaqnis halkan mul’ataan, “Yaaqoob! Yaaqoob!” jedhee Israa’elitti dubbate.

Innis, “Kunoo ani as jira” jedhee deebise.

3 Waaqnis akkana jedhe; “Ani Waaqayyo, Waaqa abbaa keetii ti. Gibxitti gad bu’uu
hin sodaatin; ani achitti saba guddaa sin taasisaatii. 4 Ani si wajjin Gibxitti gad bu’ee
deebisee sin fida. Harkuma Yooseftu ija kee walitti siif qaba.”

5 Yaaqoobis Bersheebaadhaa ka’ee qajeele; ilmaan Israa’elis abbaa isaanii Yaaqoob,
ijoollee isaaniitii fi niitota isaanii gaariiwwan Yaaqoobin baachuuf Fara’oon erge
sana irra teessisan. 6 Yaaqoobii fi sanyiin isaa hundis horii isaaniitii fi qabeenya
Kana’aanitti horatan of faana fudhatanii Gibxitti godaanan. 7 Innis sanyii isaa hunda

jechuunis ilmaan isaa, ilmaan ilmaan isaa, intallan isaatii fi intallan ilmaan isaa fudhatee Gibxitti godaane.

8 Maqaawwan ilmaan Israa'el warra Gibxitti godaanan sanaa jechuunis Yaaqoobii fi sanyiiwwan isaa kanneenii dha:

Ruubeen jechuunis ilma Yaaqoob hangafticha.
9 Ilmaan Ruubeen:
Henook, Faluusoo, Hezroonii fi Karmii.
10 Ilmaan Simi'oon:
Yemuu'eel, Yaamiin, Oohad, Yaakiin, Zooharii fi Shaawul ilma dubartii Kana'aan sanaa.
11 Ilmaan Lewwii:
Geershoon, Qohaatii fi Meraarii.
12 Ilmaan Yihuudaa:
Eeri, Oonaan, Sheelaa, Faaresii fi Zaaraa. Eerii fi Oonaan garuu biyya Kana'aanitti du'an.
Ilmaan Faares:
Hezroonii fi Hamuul.
13 Ilmaan Yisaakor:
Toolaa, Fuwaa, Yoobii fi Shimroon.
14 Ilmaan Zebuuloon:
Sered, Eeloonii fi Yahili'eel.
15 Isaan kunneen intala isaa Diinaa dabalatee ilmaan Liyaan kaaba dhi'a Phaadaan Arraamitti Yaaqoobiif deessee dha. Ilmaanii fi intallan isaa kunneen walumaa galatti soddomii sadii turan.

16 Ilmaan Gaad:
Ziifiyon, Hagii, Shuunii, Esboon, Eerii, Aroodii fi Ari'eel.
17 Ilmaan Aasheer:
Yimnaa, Yishwaa, Yishwii fi Beriiyaa. Obboleettiin isaaniis Seraa dha.
Ilmaan Beriiyaa:
Hebeerii fi Malkii'eel.
18 Isaan kunneen ijoollee Ziifaan Yaaqoobiif deessee dha. Ziifaan ishee Laabaan intala isaa Liyaadhaaf kenne sanaa dha. Isaan walumaa galatti kudha ja'a turan.

19 Ilmaan Raahel niitii Yaaqoob:
Yoosefii fi Beniyaam.
20 Minaasee fi Efreem, Aasenati intala Phooxiiferaa lubicha magaalaa Ooni sanaa irraa Gibxi keessatti Yoosefiif dhalatan.
21 Ilmaan Beniyaam:
Belaa, Beker, Ashbeel, Geeraa, Na'amaan, Eehii, Roosh, Muufiim, Hufiimii fi Ardi.
22 Isaan kunneen ilmaan Raahel Yaaqoobiif deessee dha; isaanis walumaa galatti nama kudha afur turan.

23 Ilmi Daan:
Hushiimii dha.
24 Ilmaan Niftaalem:
Yahizeel, Guunii, Yeexerii fi Shiileem.
25 Isaan kunneen ilmaan Bilihaan Yaaqoobiif deessee dha; Bilihaan ishee Laabaan intala isaa Raaheliif kenne sanaa dha; isaan walumaa galatti nama torba turan.

26 Namoonni Yaaqoob wajjin Gibxitti godaanan utuu niitota ilmaan isaa
hin dabalatin sanyiin isaa walumaa galatti jaatamii ja'a turan. 27 Ilmaan
Gibxitti Yoosefiif dhalatan lamaan dabalatee miseensonni maatii Yaaqoob
warri Gibxitti godaanan walumaa galatti torbaatama turan.

28 Yaaqoobis akka inni dhaqee karaa Gooshenitti nama geessu gaafatuuf Yihuudaa
of dura gara Yoosefitti erge. Yommuu isaan Gooshen ga'anitti, 29 Yoosef gaarii isaa
qopheeffatee abbaa isaa Israa'el simachuuf Gooshenitti qajeele. Innis akkuma fuula
isaa duratti mul'ateen morma isaatti marmee yeroo dheeraa boo'e.
30 Israa'elis Yoosefiin, "Ani sababii akka ati amma iyyuu lubbuun jirtu ofii kootiin
argeef si'achi du'u illee hin gaabbu" jedhe.
31 Yoosefis obboloota isaatii fi warra mana abbaa isaa jiraataniin akkana jedhe;
"Ani ol ba'ee Fara'oonitti nan dubbadha; akkanas nan jedhaan; 'Obboloonni koo
fi warri mana abbaa koo jiraatan kanneen biyya Kana'aan jiraachaa turan natti
dhufaniiru. 32 Namoonni kunneen tiksoota; isaan loon tikfatuutii. Isaan bushaayee
isaanii, loonii fi waan qaban hunda fudhatanii dhufan.' 33 Yoo Fara'oon ofitti isin
waamee, 'Hojiin keessan maal?' jedhee isin gaafate, 34 'Nu garboonni kee akkuma
abbootii keenyaa ijoollummaa keenyaa jalqabnee hamma ammaatti horii tikfachaa
turre' jedhaa deebisaa. Yoos inni sababii tiksoonni hundinuu warra Gibxi biratti
jibbamaniif akka isin biyya Gooshen keessa jiraattan isinii eeyyamaa."

# 47

1 Yoosefis gara Fara'oon dhaqee, "Abbaan kootii fi obboloonni koo bushaayee
isaanii, loon isaaniitii fi waan qaban hunda fudhatanii biyya Kana'aan dhufanii
kunoo biyya Gooshen jiru" jedhee itti hime. 2 Innis obboloota isaa keessaa nama
shan filatee Fara'oonitti dhi'eesse.
3 Fara'oonis, "Hojiin keessan maali?" jedhee obboloota Yoosef gaafate.
Isaanis, "Nu garboonni kee akkuma abbootii keenyaa tiksoota" jedhanii deebisaniif.
4 Akkanas jedhaniin; "Sababii beelli biyya Kana'aanitti cimee bushaayeen garboota
keetii waan dheedan dhabaniif nu yeroo gabaabaa as jiraachuu dhufne. Akka nu
garboonni kee biyya Gooshen keessa jiraannuuf maaloo nuu eeyyami."
5 Fara'oonis Yoosefiin akkana jedhe; "Abbaan keetii fi obboloonni kee siif
dhufaniiru; 6 lafti Gibxi fuuluma kee dura jira; abbaa keetii fi obboloota kee iddoo
lafa hundumaa caalu irra qubachiisi. Isaan biyya Gooshen keessa haa jiraatan. Ati
yoo namoota isaan keessaa dandeettii qaban beekte loon koo irratti itti gaafatamtoota
isaan godhi."
7 Ergasii Yoosef abbaa isaa Yaaqoobin fidee fuula Fara'oon duratti dhi'eesse. Erga
Yaaqoob Fara'oonin eebbisee booddee, 8 Fara'oon, "Umuriin kee hammam?" jedhee
isa gaafate.
9 Yaaqoobis Fara'ooniin akkana jedhe; "Barri ani keessummummaan jiraadhe
waggaa dhibbaa tokkoo fi soddoma. Baroonni koos muraasa; hamaadhas; innis bara
abbootiin koo keessummummaan jiraatan sanaan wal qixxee miti." 10 Kana booddee,
Yaaqoob Fara'oonin eebbisee fuula isaa duraa gad ba'e.
11 Yoosefis akkuma Fara'oon isa ajajetti abbaa isaatii fi obboloota isaa Gibxi keessa
qubachiise; lafa lafa hunda caalu, aanaa Raamsee handhuuraa godhee isaanii kenne.
12 Akkasumas Yoosef abbaa isaatiif, obboloota isaatii fi warra mana abbaa isaa jiran
hundaaf akkuma baay'ina ijoollee isaaniitti midhaan kenne.

### *Yoosefii fi Beela*

13 Waan beelli akka malee cimeef biyyattii guutuu keessa wanni nyaatamu hin jiru
ture; sababii beela sanaatiinis Gibxii fi Kana'aan akka malee miidhaman. 14 Yoosefis

kaffaltii midhaan namoonni bitachaa turan sanaa maallaqa biyya Gibxii fi Kana’aan
keessatti argamu hunda walitti qabee masaraa Fara’oonitti galche. 15 Maallaqni
warra Gibxii fi warra Kana’aan dhumnaan warri Gibxi hundi gara Yoosef dhufanii,
“Midhaan nuu kenni. Nu maaliif fuula kee duratti duuna? Maallaqni keenya
dhumeera” jedhan.
16 Yoosef immoo, “Erga maallaqni keessan dhumee horii keessan fidaa; qooda horii
keessanii ani midhaan isiniif nan kenna” jedhe. 17 Isaanis horii isaanii Yoosefitti
fidan; Yoosefis qooda fardeen isaanii, qooda bushaayee isaanii, qooda loowwan
isaaniitii fi qooda harroota isaanii midhaan kenneef. Innis bara sana geeddaraa horii
isaanii hundaa midhaan isaan soore.
18 Waggaan sun dhumnaan jarri waggaa itti aanutti gara isaa dhufanii akkana
jedhan; “Erga maallaqni keenya dhumee horiin keenya kan kee ta’ee as, yaa gooftaa
keenya akka dhagna keenyaa fi lafa keenya malee wanni tokko iyyuu nuuf hin hafin
nu gooftaa keenya jalaa hin dhoksinu. 19 Nu maaliif fuula kee duratti duuna? Nuu
fi lafti keenyas maaliif badna? Nuu fi lafa keenya fudhadhuutii qooda isaa midhaan
nuuf kenni. Nu lafa keenya wajjin Fara’ooniif ni garboomna. Akka nu du’a jalaa
baanee jiraannuuf, akka laftis duwwaa hin hafneef sanyii nuuf kenni.”
20 Yoosefis lafa biyya Gibxi hundumaa Fara’ooniif bite. Warri Gibxi hundi waan
beelli isaanitti cimeef lafa isaanii gurguran; laftis kan Fara’oon ta’e; 21 Yoosefis
daangaa biyya Gibxi tokko irraa hamma daangaa kaaniitti saba garbummaa jala
galche. 22 Lafti inni hin bitin lafa lubootaa qofa ture; kunis sababii isaan Fara’oon
irraa qooda argatanii fi sababii qooda Fara’oon isaaniif kennu sanaan jiraataniif.
Kanaafuu isaan lafa isaanii hin gurgurre.
23 Yoosefis saba sanaan akkana jedhe; “Kunoo ani har’a isinii fi lafa keessan
Fara’ooniif biteera. Kunoo lafatti sanyii facaafadhaa. 24 Yommuu midhaan galfamutti
harka shan keessaa harka tokko Fara’ooniif ni kennitu. Harka afran hafe immoo
sanyii facaafattan, nyaata ofii keessanii, nyaata warra mana keessan jiraataniitii fi
nyaata ijoollee keessanii godhattu.”
25 Jarris, “Ati du’a nu oolchiteerta; nu fuula gooftaa keenyaa duratti fudhatama haa
argannuu malee Fara’ooniif garboota ni taana” jedhan.
26 Yoosefis akkasiin akka harka shan keessaa harki tokko kan Fara’oon ta’uuf Gibxi
keessatti seera lafaa dhaabe; seerri sun hamma har’aatti illee ittiin hojjetamaa jira.
Lafa lubootaa qofattu utuu kan Fara’oon hin ta’in hafe.
27 Israa’eloonnis Gibxi keessa kutaa biyya Gooshen keessa qubatan. Achittis
qabeenya argatan; horaniis guddaa baay’atan.
28 Yaaqoob waggaa kudha torba biyya Gibxi keessa jiraate; barri jireenya
isaas waggaa dhibba tokkoo afurtamii torba ture. 29 Israa’elis yeroon du’a isaa
dhi’aannaan ilma isaa Yoosefin ofitti waamee akkana jedheen; “Yoo ani fuula
kee duratti fudhatama argadhe, mee harka kee gudeeda koo jala kaa’iitii akka
gaarummaa na argisiiftuu fi akka naaf amanamtu waadaa naaf seeni. Gibxitti na
hin awwaalin; 30 yeroo ani abbootii koo wajjin boqodhutti biyya Gibxii na baasii
iddoo isaan itti awwaalamanitti na awwaali.”
Innis, “Akkuma ati jette nan godha” jedhe.
31 Israa’elis, “Naa kakadhu” jedheen. Yoosefis ni kakateef. Israa’el immoo mataa
ulee isaatti irkatee sagade.

# 48

*Minaasee fi Efreem*

1 Yeroo muraasa booddee, “Kunoo, abbaan kee dhukkubsateera” jedhanii Yoosefitti
himan. Innis ilmaan isaa lamaan Minaasee fi Efreemin fudhatee dhaqe. 2 Yaaqoob

yeroo, “Ilmi kee Yoosef gara kee dhufeera” jedhanii itti himanitti, Israa’el of
jajjabeessee ka’ee siree irra taa’e.
3 Yaaqoobis Yoosefiin akkana jedhe; “Waaqni Waan Hunda Danda’u biyya Kana’aan
keessatti Luuzitti natti mul’atee achitti na eebbise; 4 akkanas naan jedhe; ‘Ani akka
ati hortuu fi akka ati baay’attu nan godha. Tuuta sabaa sin godha; ani biyya kana
dhaala bara baraa godhee sanyiiwwan kee warra si booddeetiif nan kenna.’
5 “Egaa amma ilmaan kee lamaan warri utuu ani as gara kee hin dhufin dura
Gibxitti siif dhalatan sun akkuma ilmaan kootti ilaalamu; akkuma Ruubeenii fi
Simi’oon kan koo ta’an sana Efreemii fi Minaaseenis kanuma koo ta’u. 6 Ijoolleen
isaan booddeen siif dhalatan kan kee ta’u. Dhaala qoodachuu keessatti immoo maqaa
obboloota isaanii jalatti lakkaa’amu. 7 Yeroo ani kaaba dhi’a Phaadaaniitii deebi’aa
turetti utuma Efraataa ga’uuf xinnuma nuu hafee jiruu Raahel biyya Kana’aan
keessatti na jalaa duunaan achumatti karaa Efraataa dhaqu biratti awwaalladhe.”
Efraataan kunis Beetlihemii dha.
8 Israa’el yeroo ilmaan Yoosef argetti, “Isaan kunneen eenyu?” jedhee gaafate.
9 Yoosef immoo abbaa isaatiin, “Isaan kunneen ilmaan biyya kanatti Waaqni naaf
kennee dha” jedhe.
Kana irratti Israa’el, “Akka ani isaan eebbisuuf natti fidi” jedhe.
10 Yeroo kanatti Israa’el dulloomee iji isaa dadhabee ture; innis waa hubachuu
hin danda’u ture. Kanaafuu Yoosef ilmaan isaa Israa’elitti dhi’eesse; Israa’elis isaan
dhungate; isaan hammates.
11 Israa’elis Yoosefiin, “Ani fuuluma kee iyyuu nan arga jedhee hin yaadne; Waaqni
garuu akka ani ijoollee kee iyyuu argu naa eeyyame” jedhe.
12 Yoosefis jilba Israa’el irraa achi isaan butee fuula isaatiin lafatti gad gombifame.
13 Innis ergasii lamaan isaanii iyyuu fuudhee Efreemin karaa mirga isaatiin gara
harka Israa’el isa bitaatti, Minaasee immoo bitaa isaatiin gara harka Israa’el isa
mirgaatti fidee isatti dhi’eesse. 14 Israa’el garuu utuma Efreem quxisuu ta’ee jiruu
harka isaa mirgaa mataa Efreem irra kaa’e; Minaaseen immoo utuma hangafa ta’ee
jiruu Israa’el harka isaa wal qaxxaamursee harka isaa bitaa mataa Minaasee irra
kaa’e.
15 Innis akkana jedhee Yoosefin eebbise;
“Waaqni inni abbootiin koo Abrahaamii fi Yisihaaq
fuula isaa dura jiraatan,
Waaqni inni bara jireenya koo guutuu
hamma har’aatti tiksee koo ture sun,
16 Ergamaan Waaqayyoo kan balaa hunda jalaa na baase sun
ilmaan kanneen haa eebbisu.
Isaan maqaa kootiin,
maqaa abbootii koo Abrahaamii fi
Yisihaaqiin haa waamaman;
isaan lafa irratti guddaa haa baay’atan.”
17 Yoosef yommuu akka abbaan isaa harka isaa mirgaa mataa Efreem irra kaa’e
argetti ni gadde; kanaafuu inni harka abbaa isaa mataa Efreem irraa fuudhee mataa
Minaasee irra kaa’uuf jedhee kaase. 18 Yoosef abbaa isaatiin, “Yaa abbaa ko, akkas
miti; inni kun hangafa; harka kee mirgaa mataa isaa irra kaa’i” jedhe.
19 Abbaan isaa garuu didee akkana jedheen; “Ani nan beeka; yaa ilma koo nan
beeka. Innis saba ta’a; saba guddaa isaa ta’a. Ta’us obboleessi isaa inni quxisuun
isa caalaa guddaa ta’a; sanyiin isaas tuuta saba baay’ee ni ta’a.” 20 Innis gaafa sana
akkana jedhee isaan eebbise;
“Israa’el maqaa keetiin eebba kana kenna;
‘Waaqni akka Efreemii fi akka Minaasee isin haa taasisu.’ ”

Yoosefis akkasiin Minaasee dura Efreemin dabarse.
21 Ergasii Israa'el Yoosefiin akkana jedhe; "Kunoo ani du'uu ga'eera; Waaqni garuu
isin wajjin ta'ee biyya abbaa keessaniitti isin deebisa. 22 Ani qooda obboloota keetii
caalchisee qooda tokko siifin kenna; kunis lafa ol ka'aa ani Amoorota irraa goraadee
koo fi iddaa kootiin fudhadhe sanaa dha."

# 49

*Yaaqoob Ilmaan Isaa Eebbise*
*49:1-28 kwi – KeD 33:1-29*

1 Yaaqoob ilmaan isaa ofitti waamee akkana jedhe: "Akka ani waan bara dhumaa
keessa isinitti dhufu isinitti himuuf mee walitti qabamaa.

2 "Yaa ilmaan Yaaqoob mee walitti qabamaa dhaggeeffadhaa;
abbaa keessan Israa'elin dhaggeeffadhaa.

3 "Yaa Ruubeen, ati ilma koo hangafa;
humna koo, mallattoo jalqabaa kan jabina kootii ti;
ati ulfinaan ni caalta; humnaan illee ni caalta.
4 Ati akka bishaanii asii fi achi raafamta; ol aantummaas hin qabaattu;
ati siree abbaa keetiitti ol baatee,
afata kootti ol baatee xureessiteertaatii.

5 "Simi'oonii fi Lewwiin obboloota;
goraadeen isaanii mi'a fincilaa ti.
6 Lubbuun koo marii isaaniitti hin seenin;
ulfinni koos yaa'ii isaaniitti hin dabalamin;
isaan dheekkamsa isaaniitiin nama ajjeesaniiruutii;
fedhii ofii isaaniitiinis qotiyyoo naafachiisaniiru.
7 Aariin isaanii inni hamaan,
dheekkamsi isaanii inni gara jabeessi abaaramaa haa ta'u!
Ani Yaaqoob keessa isaan nan bittinneessa;
Israa'el keessas isaan nan facaasa.

8 "Yaa Yihuudaa obboloonni kee si leellisu;
harki kee morma diina keetii qaba;
ilmaan abbaa keetii siif sagadu.
9 Yaa Yihuudaa ati saafela leencaa ti;
yaa ilma koo ati adamoodhaa deebita.
Inni akka leencaa, akka leenca dhalaas, riphee ciisa;
eenyutu ija jabaatee isa kaasa ree?
10 Hamma bulchaan dhufutti
bokkuun harka Yihuudaatii,
uleen bulchiinsaa miilla isaa gidduudhaa hin dhabamu;
saboonnis isaaf ni ajajamu.
11 Inni harree isaa muka wayiniitti,
ilmoo harree isaa immoo damee filatamaatti hidhata;
wayyaa isaa daadhii wayiniitiin,
wandaboo isaa immoo dhiiga gumaa wayiniitiin miiccata.
12 Iji isaa daadhii wayinii irra diimata;
ilkaan isaa immoo aannan irra addaata.

13 "Zebuuloon qarqara galaanaa jiraata;
buufata dooniiwwaniis ta'a;

daangaan isaas hamma Siidoonaatti bal’ata.

14 “Yisaakor harree jabaa
fe’iisa lama gidduu ciisuu dha.
15 Innis yeroo akka iddoon boqonnaa isaa hammam gaarii ta’ee fi
akka lafti isaa tolaa ta’e argutti
ba’aa baachuuf gatiittii isaa gad qabata;
hojii humnaa hojjechuuf of kenna.

16 “Daan gosoota Israa’el keessaa akka isa tokkootti,
saba isaatiif murtii qajeelaa ni kenna.
17 Daan bofa qarqara karaa ti;
akka buutii daandii irraa,
kan akka namichi farda yaabbatu gara duubaatti kufuuf
kottee fardaa idduu ni ta’a.

18 “Yaa WAAQAYYO, ani fayyisuu kee nan eeggadha.

19 “Gaad weerartootaan ni dha’ama;
inni garuu faana bu’ee isaan dha’a.

20 “Aasheer buddeenni isaa furdaa dha;
inni mootiidhaaf nyaata tolaa ni kenna.

21 “Niftaalem borofa hiikamtee dha;
dubbii gaariis ni dubbata.

22 “Yoosef muka wayinii ija qabeessa,
muka wayinii ija qabeessa burqaa bishaaniitti dhi’oo jiruu dha;
dameen isaa dallaa irra yaa’a.
23 Warri iddaa qabatan waraana isatti banan;
isatti futtaasan; isa jibbanis.
24 Garuu iddaan isaa jabaatee hafe;
irreen harka isaa,
harka Waaqa Jabaa Yaaqoobiin jabeeffame.
Achiis Tiksee sanaan, Kattaa Israa’eliin,
25 Waaqa abbaa keetii isa si gargaaruun,
Waaqa Waan Hunda Danda’u isa
eebba samii gubbaatiin,
eebba gadi fagoo isa jalaatiin,
eebba harmaatii fi gadameessaatiin si eebbisu sanaan
ni eebbifamta.
26 Eebbi abbaa keetii,
eebba tulluuwwan durii,
arjummaa gaarran durii caala.
Kun hundi mataa Yoosefiitti,
gubbee mataa isa obboloota isaa keessaa
hoogganaa ta’eetti haa qabatu.

27 “Beniyaam yeeyyii baay’ee beela’ee dha;
ganama waan adamse itti gaggabee nyaata;

galgala immoo boojuu hira.”
28 Warri kunneen hundi gosoota Israa’el kudha lamaan; kunis waan abbaan isaanii
yeroo eebba tokkoo tokkoo isaaniif ta’uun isaan eebbisetti isaanitti dubbatee dha.

### *Yaaqoob Du’uu Isaa*

29 Ergasiis Yaaqoob akkana jedhee isaan ajaje; “Ani gara saba kootiitti walitti
qabamuu ga’eera; holqa lafa qotiisaa Efroon namicha gosa Heeti sanaatti abbootii koo
biratti na awwaalaa. 30 Holqi kunis holqa biyya Kana’aan keessatti Mamree biratti
lafa qotiisaa Makfelaa keessatti argamu kan Abrahaam iddoo awwaalaa godhachuuf
Efroon namicha gosa Heeti sana irraa lafa qotiisaa wajjin bitatee dha. 31 Abrahaamii
fi niitiin isaa Saaraan achitti awwaalaman; Yisihaaqii fi niitiin isaa Ribqaan achitti
awwaalaman; anis achumattan Liyaa awwaale. 32 Lafti qotiisaatii fi holqi isa keessa
jiru Heetota irraa bitaman.”
33 Yaaqoob akkuma ilmaan isaa ajajuu raawwateen miilla isaa siree irratti ol
deebifatee hafuura dhumaa baafate; gara saba isaattis walitti qabame.

## 50

1 Yoosefis abbaa isaa irratti kufee boo’eef; isa dhungates. 2 Ergasii immoo Yoosef
tajaajiltoota isaa kanneen ogeessota fayyaa ta’an akka isaan reeffa abbaa isaa
qorichaan sukkuuman ajaje; jarris reeffa Israa’el qorichaan sukkuuman; 3 waan
kana gochuun bultii afurtama guutuu isaanitti fudhate; yeroon qoricha reeffa dibuuf
barbaachisu kana tureetii. Warri Gibxiis bultii torbaatama isaaf boo’an.
4 Guyyoonni gaddaa darbinaan Yoosef warra mana Fara’oon jiraataniin akkana
jedhe; “Yoo ani fuula keessan duratti fudhatama argadheera ta’e, akkana jedhaatii
Fara’oonitti naa himaa: 5 ‘Abbaan koo akkana jedhee na kakachiiseera; “Kunoo
ani du’uu ga’eera; awwaala ani biyya Kana’aan keessatti ofii kootiif qotadhetti na
awwaalaa.” Kanaafuu maaloo ani amma dhaqee abbaa koo nan awwaalladha; ergasii
immoo nan deebi’a.’ ”
6 Fara’oonis, “Dhaqiitii akkuma inni si kakachiise sanatti abbaa kee awwaalladhu”
jedheen.
7 Yoosefis abbaa isaa awwaallachuu dhaqe. Qondaaltonni Fara’oon hundinuu
hangafoonni mana isaatii fi hangafoonni Gibxi hundi isa wajjin deeman. 8 Akkasumas
warri mana Yoosef jiraatan, obboloota isaatii fi warri mana abbaa isaa jiraatan
hundi isa wajjin deeman. Ijoollee isaanii, bushaayee isaaniitii fi loon isaanii qofattu,
Gooshenitti hafe. 9 Gaariiwwanii fi warri farda yaabbatanis isa wajjin deeman.
Tuunni sunis akka malee guddaa ture.
10 Isaanis yommuu Yordaanos gama oobdii Axaad bira ga’anitti sagalee isaanii
ol fudhatanii gadoodanii boo’an. Yoosefis achitti abbaa isaatiif guyyaa torba
boo’e. 11 Namoonni Kana’aan warri achi jiraachaa turan boo’icha oobdii Axaad
biratti boo’ame sana arganii, “Boo’ichi kun warra Gibxiitiif boo’icha guddaa dha”
jedhan. Kanaafuu iddoon sun Abeel Misraayim jedhamee moggaafame. Iddoon sunis
Yordaanos gamatti argama.
12 Ilmaan Yaaqoob akkuma inni isaan ajaje sana godhan; 13 isaanis biyya
Kana’aanitti isa geessanii holqa Mamree biratti lafa qotiisaa Makfelaa keessatti
argamu kan Abrahaam iddoo awwaalaa godhachuudhaaf Efroon namicha gosa Heeti
sana irra lafa qotiisaa wajjin bitate sanatti awwaalan. 14 Yoosef erga abbaa isaa
awwaallatee booddee obboloota isaatii fi warra isa wajjin abbaa isaa awwaaluu
dhaqan hunda wajjin Gibxitti deebi’e.

### *Yoosef Obboloota Isaa Jajjabeesse*

[15] Obboloonni Yoosef erga abbaan isaanii du'ee booddee, "Yoo Yoosef hamaa nu
isatti hojjennee hundaaf haaloo qabatee haaloo nutti ba'e hoo?" jedhan. [16] Isaanis
akkana jedhanii Yoosefitti dhaammatan; "Abbaan kee utuu hin du'in dura akkana
jedhee ajaje; [17] 'Isin akkana jedhaa Yoosefitti himaa; ani akka ati cubbuu fi balleessaa
obboloonni kee si miidhuuf jedhanii sitti hojjetan sana isaanii dhiiftu sin kadhadha.'
Maaloo cubbuu tajaajiltoota Waaqa abbaa keetii dhiisi." Yoosefis yommuu ergaa
isaanii dhaga'etti ni boo'e.
[18] Obboloonni isaas dhufanii fuula isaa duratti lafa dha'anii, "Kunoo nu garboota
kee ti" jedhan.
[19] Yoosef garuu akkana isaaniin jedhe; "Hin sodaatinaa. Anatu iddoo Waaqaa
bu'aa? [20] Isin hamaa natti yaaddan; Waaqni garuu akkuma amma ta'ee jiru kana
lubbuu nama baay'ee baraaruuf jedhee waan gaariif yaade. [21] Egaa hin sodaatinaa.
Ani isinii fi ijoollee keessan nan sooraatii." Innis waan garaa isaan ciibsu isaanitti
dubbatee isaan jajjabeesse.

### *Yoosef Du'uu Isaa*

[22] Yoosef maatii abbaa isaa wajjin Gibxi keessa ture. Innis waggaa dhibba tokkoo fi
kudhan jiraate. [23] Dhaloota sadaffaa ijoollee Efreem arge. Akkasumas ilmaan Maakiir
ilma Minaasee jilba Yoosef irratti dhalatan.
[24] Yoosefis obboloota isaatiin akkana jedhe; "Ani du'uu ga'eera. Waaqni garuu
dhugumaan dhufee isin gargaara; biyya kanaa isin baasees gara biyya Abrahaamiif,
Yisihaaqii fi Yaaqoobiif kakuun waadaa gale sanaatti isin geessa." [25] Yoosefis ijoollee
Israa'el kakachiisee akkana jedheen; "Waaqni dhugumaan dhufee isin gargaara;
isinis lafee koo biyya kanaa ol baasuu qabdu."
[26] Yoosefis waggaa dhibba tokkoo fi kudhanitti du'e. Jarris qorichaan sukkuumanii
Gibxitti sanduuqa reeffaa keessa isa kaa'an.

# Seera
# Ba’uu

*Israa’eloonni Cunqurfaman*

1 Maqaan ilmaan Israa’el kanneen maatii isaanii qabatanii Yaaqoob wajjin
Gibxi dhaqanii kanaa dha:

2 Ruubeen, Simi’oon, Lewwii fi Yihuudaa;
3 Yisaakor, Zebuuloonii fi Beniyaam;
4 Daanii fi Niftaalem;
Gaadii fi Aasheer.

5 Namoonni sanyii Yaaqoob irraa dhalatan walumaa galatti torbaatama
turan; Yoosef durumaanuu Gibxi ture.

6 Yoosefii fi obboloota isaa hundi, dhaloonni sun hundinuus, ni du’an.
7 Israa’eloonni garuu horanii akka malee baay’atan; baay’ataniis akka malee
jabaatan; biyyattii keessas ni guutan.

8 Ergasii mootiin waa’ee Yoosef hin beekin haaraan tokko bulchaa Gibxi ta’e. 9 Innis
saba isaatiin akkana jedhe; “Kunoo, Israa’eloonni nu caalaa baay’ataniiru; nu caalaas
jabaataniiru. 10 Kottaa akka isaan kana caalaa hin baay’anneef, yoo waraanni ka’es
diinota keenya gargaaranii akka nu hin waraannee fi akka biyyattii keessaa baqatanii
hin baaneef haxxummaadhaan isaan qabna.”

11 Kanaafuu itti gaafatamtoota isaan cunqursanii hojii humnaa hojjechiisan
isaanitti muudan; Israa’eloonnis Fiitoomii fi Raamsee magaalaawwan waa itti
kuusan godhanii Fara’ooniif ijaaran. 12 Isaan garuu hamma cunqursaan isaanitti
jabaachaa deeme sana baay’atanii lafa guutan; kana irratti warri Gibxi saba Israa’el
sodaatan. 13 Warri Gibxis Israa’elootatti gara jabinaan isaan hojjechiifatan. 14 Isaanis
suphee fi xuubii hojjechiisuudhaan, lafa qotiisaa keessas hojii garaa garaa hunda
hojjechiisuudhaan hojii itti cimsanii jireenya isaanitti hadheessan; warri Gibxi hojii
jabaa jara hojjechiisan hunda keessatti garaa isaaniif hin laafan ture.

15 Mootiin Gibxi deessistoota Ibrootaa kanneen Siipaaraa fi Fuuhaa jedhamaniin
akkana jedhe; 16 “Isin yommuu dubartoota Ibrootaa da’umsa irratti gargaartanii fi
barcuma da’umsaa irratti isaan argitan, yoo dhiira ta’e ajjeesaa; yoo durba taate
immoo haa jiraattuu dhiisaa.” 17 Deessistoonni sun garuu waan Waaqa sodaataniif,
waan mootiin Gibxi isaanitti hime sana hin goone; ijoollee dhiiraas akka isaan
jiraataniif dhiisan. 18 Mootiin Gibxis deessistoota sana ofitti waamee, “Isin maaliif
waan kana gootan? Maaliifis ijoollee dhiiraa akka isaan jiraataniif dhiiftan?” jedhee
isaan gaafate.

19 Deessistoonni sunis, “Dubartoonni Ibrootaa akka dubartoota warra Gibxi miti;
isaan waan jajjaboo ta’aniif utuu deessistoonni isaan bira hin ga’in da’anii nama
eegu” jedhanii Fara’ooniif deebisan.

20 Waaqnis deessistoota sanaaf waan gaarii godhe; Israa’eloonnis baay’atanii akka
malee jabaatan. 21 Sababii isaan Waaqa sodaataniif Waaqni deessistoota sanaaf
maatii ofii isaanii kenneef.
22 Kana irratti Fara’oon, “Ilma dhalatu hunda laga Abbayyaa keessa buusaa; durbi
hundi garuu haa jiraattuu dhiisaa” jedhee saba isaa hunda ajaje.

# 2

*Dhalachuu Musee*

1 Sanyii Lewwii keessaa namichi tokko intala Lewwii tokko fuudhe; 2 isheenis
ulfooftee ilma deesse. Yommuu akka inni bareedaa ta'e argitetti ji'a sadii isa
dhoksite. 3 Kana caalaa isa dhoksuu akka hin dandeenye yeroo beektetti garuu
guuboo dhallaadduu irraa hojjetame tokko fuutee haphee fi leelee itti dhoobde;
mucaa sana guuboo keessa ciibsitee qarqara laga Abbayyaa shambaqqoo keessa
keesse. 4 Obboleettiin isaa immoo waan mucicha irra ga'u ilaaluuf jettee fagoo
dhaabachaa turte.
5 Yeroo sana intalli Fara'oon dhagna dhiqachuuf gara laga Abbayyaatti gad buute;
dubartoonni ishee tajaajilanis qarqara laga sanaa irra asii fi achi dedeemaa turan.
Isheenis guuboo sana shambaqqoo keessatti argitee akka dhaqxee fidduuf garbittii
ishee ergite. 6 Isheenis guuboo bantee mucaa sana argite; kunoo mucichis boo'aa
ture. Isheenis garaa laafteefii, "Kun daa'imman Ibrootaa keessaa tokkoo dha" jette.
7 Obboleettiin mucichaas intala Fara'ooniin, "Akka isheen hoosiftee siif guddiftuuf
dhaqee dubartoota Ibrootaa keessaa guddiftuu tokko siif waamuu?" jette.
8 Isheenis, "Eeyyee, dhaqi" jetteen. Intalli sunis dhaqxee haadha mucaa sanaa
waamte. 9 Intalli Fara'oonis dubartittiidhaan, "Mucaa kana fuudhii naa hoosisi;
ani mindaa kee siifin kennaa" jette. Dubartiin sunis daa'ima sana fuutee hoosifte.
10 Mucaan sun guddannaan isheen intala Fara'oonitti fidde. Innis ilma ishee ta'e.
Isheenis, "Ani bishaan keessaa isa nan baase" jechuudhaan maqaa isaa Musee jettee
moggaafte.

*Museen Gara Midiyaanitti baqate*

11 Museen erga guddatee booddee gaafa tokko lafa sabni isaa ture dhaqee utuu
isaan hojii dadhabsiisaa hojjetanuu arge; utuu namni Gibxi tokkos Ibroota saba isaa
keessaa nama tokko rukutuu arge. 12 Innis asii fi achi ilaalee akka namni tokko
iyyuu hin jirre mirkaneeffate; namicha Gibxi sana ajjeesee cirracha keessa dhokse.
13 Guyyaa itti aanutti immoo gad ba'ee utuu Ibroonni lama wal lolanuu arge. Ibricha
balleessaa qabuunis, "Ati maaliif Ibricha akka keetii rukutta?" jedhee gaafate.
14 Namichi sunis, "Eenyutu nurratti bulchaa fi abbaa murtii si godhe? Akkuma
namicha Gibxi ajjeefte sana ana illee ajjeesuu barbaaddaa?" jedheen. Kana irratti
Museen, "Dhugumaan wanni ani hojjedhe sun beekameera jechuu dha" jedhee
sodaate.
15 Fara'oon yommuu waan kana dhaga'etti Musee ajjeesuu yaale; Museen garuu
Fara'oon jalaa gara Midiyaanitti baqate; yommuu achi ga'ettis boolla tokko bira
taa'e. 16 Lubni Midiyaan tokko intallan torba qaba ture; isaanis dhufanii bushaayee
abbaa isaanii obaasuuf bishaan budduuqsanii bidiruutti guutaa turan. 17 Tiksoonnis
dhufanii isaan ari'an; Museen garuu ka'ee isaan gargaaree bushaayee isaanii
obaaseef.
18 Yeroo dubarri sun gara abbaa isaanii Re'uu'eelitti deebi'anitti, inni, "Isin har'a
akkamiin daftanii deebitan?" jedhee isaan gaafate.
19 Isaanis, "Namicha Gibxi tokkotu tiksoota jalaa nu baase; inni bishaan iyyuu nuu
budduuqsee bushaayee nuuf obaase" jedhanii deebisan.
20 Inni immoo intallan isaatiin, "Inni eessa jira? Isin maaliif isa dhiiftanii dhuftan?
Akka inni waa nyaatuufis dhaqaatii waamaa" jedhe.
21 Museenis namicha bira jiraachuu jaallate; namichis intala isaa Ziphooraa
Museetti heerumsiise. 22 Siipaaraan ilma deesse; Museenis, "Ani alagaa ta'ee biyya
ormaa jiraadheera" jechuudhaan maqaa isaa Geershoom jedhee moggaase.
23 Bara dheeraa sana keessa mootiin Gibxi ni du'e. Namoonni Israa'elis sababii
garbummaa keessa turaniif ni aadan; ni iyyanis; iyyi isaan sababii garbummaa jala

turaniif gargaarsa argachuuf iyyanis Waaqa bira ga'e. 24 Waaqnis aaduu isaanii
dhaga'ee kakuu isaa kan Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqoob wajjin gale sana yaadate.
25 Waaqnis saba Israa'el ilaale; Waaqni akka isaan itti jiran beeke.

# 3

*Musee fi Daggala Boba'u*

1 Museen bushaayee abbaa niitii isaa Yetroo lubicha Midiyaan sanaa tiksaa ture;
innis gaaf tokko hamma dhi'a lafa gammoojjiitti bushaayee sana oofee gara tulluu
Waaqaa gara Kooreeb dhufe. 2 Achittis Ergamaan WAAQAYYOO daggala boba'u keessaa
arraba ibiddaa keessaan isatti mul'ate. Museenis daggalli sun boba'u illee akka hin
gubatin arge. 3 Museenis, "Daggalli kun maaliif hin gubatu laata? Ani itti goree waan
dinqisiisaa kana ilaaluu qaba" jedhe.

4 WAAQAYYOS yommuu akka Museen ilaaluuf achi gore argetti, Waaqni daggala sana
keessaa, "Musee! Musee!" jedhee isa waame.

Museenis, "Kunoo ani asan jira" jedhee deebise.

5 Waaqni immoo, "As hin dhi'aatin; Sababii iddoon ati dhaabatu kun qulqulluu
ta'eef kophee kee baafadhu" jedheen. 6 Itti fufees, "Ani Waaqa abbaa keetii, Waaqa
Abrahaam, Waaqa Yisihaaqii fi Waaqa Yaaqoob" jedhe. Kana irratti Museen Waaqa
ilaaluu waan sodaateef fuula isaa dhokfate.

7 WAAQAYYO akkana jedhe; "Ani dhugumaan dhiphina saba koo warra Gibxi keessa
jiraatan irra ga'u argeera. Iyya isaan warra humnaan isaan hojjechiisan jalaa
ba'uuf iyyanis dhaga'eera; ani rakkina isaaniis nan beeka. 8 Kanaafuu ani harka
warra Gibxiitii isaan baasee gara biyya gaarii fi bal'aatti, biyya aannanii fi dammi
keessaa burquutti jechuunis gara biyya Kana'aanotaatti, Heetotaatti, Amoorotaatti,
Feerzotaatti, Hiiwotaattii fi Yebuusotaatti ol isaan baasuuf jedhee gad bu'eera.
9 Amma kunoo iyyi Israa'elootaa na bira ga'eera. Ani haala itti warri Gibxi isaan
cunqursanis argeera. 10 Kanaafuu ati amma dhaqi. Ani akka ati saba koo Israa'eloota
Gibxi keessaa baaftuuf Fara'oonitti sin erga."

11 Museen garuu Waaqaan, "Fara'oon bira dhaqee Gibxii Israa'eloota baasuuf ani
eenyu?" jedhe.

12 Waaqnis akkana jedhe; "Ani si wajjin nan ta'a. Ati saba sana Gibxii yommuu
baaftutti isin tulluu kana irratti Waaqa waaqeffattu. Si erguu kootiifis kun mallattoo
siif ta'a."

13 Museen immoo Waaqaan, "Kunoo ani gara Israa'elootaa dhaqee, 'Waaqni abbaa
keessanii na ergeera' yommun jedhutti yoo isaan, 'Maqaan isaa eenyu?' jedhanii na
gaafatan, ani maal jedheen isaanitti hima?" jedhe.

14 Waaqnis Museedhaan, "ANI ANUMA; ati saba Israa'eliin, 'Inni ANI ANUMA jedhu
sun gara keessanitti na ergeera' jedhi" jedheen.

15 Waaqni ammas Museedhaan akkana jedhe; "Israa'elootaan akkana jedhi;
'WAAQAYYO Waaqni abbootii keessanii, Waaqni Abrahaam, Waaqni Yisihaaq, Waaqni
Yaaqoob isinitti na ergeera.'

"Maqaan kun bara baraan maqaa koo ti;
maqaa ani dhalootaa hamma dhalootaatti
ittiin yaadatamuu dha.

16 "Dhaqii maanguddoota Israa'el walitti qabiitii akkana jedhiin; 'WAAQAYYO
Waaqni abbootii keessanii, Waaqni Abrahaam, kan Yisihaaqii fi kan Yaaqoob natti
mul'atee akkana jedhe: "Ani isin ilaaleera; waan Gibxitti isin irra ga'es argeera.
17 Kanaafuu ani rakkina Gibxi keessaa isin baasee biyya aannanii fi dammi keessaa
burqu jechuunis biyya Kana'aanotaa, Heetotaa, Amoorotaa, Feerzotaa, Hiiwotaatii fi
biyya Yebuusotaatti isin geessuuf murteesseera." '

18 “Maanguddoonni Israa’el si dhaga’u. Atii fi maanguddoonni Israa’el mootii
Gibxi bira dhaqxanii, ‘WAAQAYYO Waaqni Ibrootaa nutti mul’ateera; egaa amma
akka nu WAAQAYYO Waaqa keenyaaf aarsaa dhi’eessinuuf gara gammoojjiitti karaa
guyyaa sadii nuu eeyyami’ jettuun. 19 Garuu akka mootiin Gibxi yoo irreen jabaan
isa dirqisiise malee deemuuf isinii hin eeyyamne anuu beeka. 20 Ani dinqii isaan
gidduutti hojjedhu hundaan irree koo hiixadhee namoota Gibxi nan dha’a. Ergasii
inni akka deemtan isiniif eeyyama.
21 “Anis akka sabni kun fuula warra Gibxi duratti surraa argatu nan godha; isinis
yommuu Gibxii baatanitti harka duwwaa hin baatan. 22 Tokkoon tokkoon dubartii
mi’a meetii, mi’a warqeetii fi uffata gaafattee ollaa isheettii fi dubartii mana ishee
jiraattu irraa haa fudhattu; kanaanis ilmaanii fi intallan keessanitti uffiftu. Akkasiinis
qabeenya warra Gibxi boojitanii baatu.”

# 4

### *Mallattoo Museedhaaf Kenname*

1 Museen, “Yoo isaan, ‘WAAQAYYO sitti hin mul’anne’ jedhanii na amanuu yookaan
na dhaga’uu didan hoo?” jedhee deebise.
2 Kana irratti WAAQAYYO, “Wanti harka kee keessa jiru sun maali?” jedheen.
Museen immoo, “Ulee dha” jedhee deebise.
3 WAAQAYYOS, “Lafa buusi” jedheen.
Museen lafa buufnaan uleen sun bofa ta’e; innis irraa baqate. 4 WAAQAYYO garuu
Museedhaan, “Harka kee hiixadhuutii eegee isaa qabi” jedhe. Museenis hiixatee bofa
sana qabe; bofti sunis harka isaa keessatti deebi’ee ulee ta’e. 5 WAAQAYYOS, “kun
akka isaan WAAQAYYO Waaqni abbootii isaanii, Waaqni Abrahaam, Waaqni Yisihaaq,
Waaqni Yaaqoob sitti mul’ate akka amananiif” jedhe.
6 WAAQAYYOS Museedhaan, “Harka kee bobaa kee keessa kaa’adhu” jedhe. Musee-
nis harka isaa bobaa isaa keessa kaa’ate; yommuu inni baafatettis, kunoo harki isaa
lamxii akka cabbii ta’e.
7 Innis Museedhaan, “Harka kee deebisii bobaa kee keessa kaa’adhu” jedhe;
Museenis deebisee harka isaa bobaa isaa keessa kaa’ate; yommuu inni baafatettis,
kunoo harki isaa deebi’ee akkuma dhagna isaa isa kaanii ta’e.
8 WAAQAYYOS akkana jedhe; “Isaan yoo si amanuu baatanii mallattoo isa jalqabaa
fudhachuu didan mallattoo lammaffaa ni amanu ta’a. 9 Yoo isaan mallattoo kana
lamaan amanuu baatanii si dhaga’uu didan bishaan laga Abbayyaa budduuqsiitii
lafa gogaa irratti dhangalaasi. Bishaan ati lagicha irraa budduuqsite sunis lafa gogaa
irratti dhiiga ta’a.”
10 Museenis WAAQAYYOON, “Yaa Gooftaa, ani duris ta’u yookaan erga ati garbicha
keetti dubbachuu jalqabdee as nama arraba qajeelu miti. Ani nama afaan isaa
hidhamee arrabni isaas itti ulfaatuu dha” jedhe.
11 WAAQAYYOS akkana isaan jedhe; “Kan afaan namaa uume eenyu? Kan akka
namni arrab-didaa ta’u yookaan duudu godhu eenyu? Kan agartuu ijaa namaaf
kennu yookaan jaamsu eenyu? Anuma WAAQAYYOO mitii? 12 Amma dhaqi; ani afaan
kee wajjin nan ta’a; waan ati jettus sin barsiisa.”
13 Museen garuu, “Yaa Gooftaa, maaloo nama biraa ergi” jedhe.
14 Dheekkamsi WAAQAYYOOS Musee irratti boba’e; innis akkana jedhe; “Obboleessi
kee Aroon Lewwichi jira mitii? Ani akka inni akka gaariitti dubbatu nan beeka.
Kunoo, inni gara kee dhufuutti jira. Inni yommuu si argutti ni gammada. 15 Ati isatti
dubbatee afaan isaa keessa dubbii ni keessa; anis afaan keetii fi afaan isaa wajjin
nan ta’a; waan isin hojjettanis isin nan barsiisa. 16 Inni uummatatti siif dubbata;

inni afaan siif ta'a; ati immoo isaaf akka Waaqaa ni taata. 17 Ati ulee ittiin mallattoo
argisiiftu kana harkatti qabadhu."

### *Museen Gibxitti Deebi'e*

18 Museen gara abbaa niitii isaa gara Yetrootti deebi'ee, "Akka ani gara saba koo
warra Gibxi jiraatanitti deebi'ee hamma ammaatti lubbuun jiraachuu isaanii arguuf
maaloo naa eeyyami" jedheen.
Yootooris, "Nagaan dhaqi" jedheen.
19 WAAQAYYO Midiyaanitti Museedhaan, "Namoonni si ajjeesuu barbaadan hundi
du'aniiruutii Gibxitti deebi'i" jedhee ture. 20 Kanaafuu Museen niitii isaatii fi ilmaan
isaa fuudhatee harree irra kaa'ee Gibxitti deebi'e. Innis ulee Waaqaa harkatti qabatee
ture.
21 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Ati yeroo Gibxitti deebitutti dinqiiwwan
ani akka ati hojjetuuf humna siif kenne sana hunda fuula Fara'oon duratti hojjedhu.
Ani garuu akka inni saba sana gad hin lakkifne mata jabeessa isa nan godha. 22 Ati
Fara'ooniin akkana jedhi; 'WAAQAYYO akkana jedha: Israa'el ilma koo hangafa; 23 anis,
"Akka ilmi koo na tajaajiluuf gad lakkisi" jedhee sitti himeera. Ati garuu isa gad
lakkisuu didde; kanaafuu, kunoo ani ilma kee hangafa nan ajjeesa.' "
24 WAAQAYYO karaa irratti iddoo bultiitti Museetti dhufee isa ajjeesuu barbaade.
25 Ziphooraa garuu dhagaa qara qabu fudhattee qola dhagna ilma ishee kuttee ittiin
miilla Musee tuqxe. Isheenis, "Ati dhugumaan anaaf misirricha dhiigaati" jette.
26 WAAQAYYOS isa dhiise. Yeroo sana isheen waa'ee dhagna qabaatiif, "Misirricha
dhiigaa ti" jette.
27 WAAQAYYOS Arooniin, "Ati Musee simachuuf gara gammoojjii dhaqi!" jedhe.
Innis dhaqee Tulluu Waaqaa irratti Musee argatee isa dhungate. 28 Yeroo sana
Museen dubbii WAAQAYYO akka inni dubbatuuf isa erge hundaa fi mallattoowwan
akka inni hojjetuuf isa ajaje hunda Aroonitti hime.
29 Musee fi Aroon maanguddoota Israa'el hunda walitti qaban; 30 Aroonis waan
WAAQAYYO Museetti hime hunda jaratti hime. Mallattoowwanis fuula namootaa
duratti hojjete; 31 isaanis ni amanan. Jarris yommuu akka WAAQAYYO saba Israa'el
ilaalee fi akka inni rakkina isaaniis arge dhaga'anitti gad jedhanii sagadan.

# 5

### *Xuubii Cidii Hin qabne*

1 Ergasii Musee fi Aroon Fara'oon bira dhaqanii, "WAAQAYYO Waaqni Israa'el
akkana jedha; 'Akka inni gammoojjiitti ayyaana naa ayyaanessuuf saba koo gad
dhiisi.' "
2 Fara'oon immoo, "Akka ani isaaf ajajamee Israa'elin gad dhiisuuf WAAQAYYO kun
eenyu? Ani WAAQAYYO sana hin beeku; Israa'elinis gad hin dhiisu" jedhe.
3 Isaanis akkana jedhan; "Waaqni Ibrootaa nutti dhufeera. Akka nu WAAQAYYO
Waaqa keenyaaf aarsaa dhi'eessinuuf gara gammoojjiitti karaa guyyaa sadii nuu
eeyyami; akkas ta'uu baannaan inni dha'ichaan yookaan goraadeedhaan nu dha'a."
4 Mootiin Gibxi garuu, "Yaa Musee fi Aroon, isin maaliif saba kana hojii dhowwitu?
Hojii keessanitti deebi'aa!" isaaniin jedhe. 5 Fara'oonis ittuma fufee, "Kunoo sabni
biyyattii amma baay'ateera; isin immoo hojii isaan dhowwaa jirtu" jedhe.
6 Guyyuma sana Fara'oon akkana jedhee itti gaafatamtoota hojiitii fi qondaaltota
sabaa ajaje; 7 "Si'achi xuubii hojjechuudhaaf saba kanaaf cidii hin kenninaa; isaan
ofuma isaaniitii dhaqanii cidii haa barbaaddatan. 8 Garuu akka isaan lakkoobsa
xuubii kan duraan hojjechaa turan sana hojjetan godhaa; hamma isaanitti ramadame
hin hir'isinaa. Isaan dhibaa'oo dha; kanaafuu, 'Nu dhaqnee Waaqa keenyaaf aarsaa

dhi’eessina’ jedhanii iyyaa jiru. 9 Akka isaan hojiidhaan qabamanii dubbii sobaatiif
xiyyeeffannoo hin kennineef hojii isaanitti cimsaa.”

10 Itti gaafatamtoonni hojiitii fi qondaaltonni sabaa gad yaa’anii saba sanaan
akkana jedhan; “Fara’oon akkana jedha: ‘Ani si’achi cidii isinii hin kennu. 11 Lafa itti
argachuu dandeessan dhaqaatii ofii keessanii cidii barbaaddadhaa; hojiin keessan
garuu gonkumaa hin hir’atu.’ ” 12 Sabni sun qooda cidii, haafa walitti qabachuuf
jedhee biyya Gibxii guutuu keessa faffaca’e. 13 Itti gaafatamtoonni sunis, “Isin
hojii keessan kan guyyaa guyyaa akkuma yeroo cidiin ture sanaatti hojjedhaa
raawwadhaa” jedhanii isaan jarjarsaa turan. 14 Israa’eloonni qondaaltota hojii ta’an
kanneen itti gaafatamtoota garboota Fara’ooniin muudamanis reebamanii, “Isin
kaleessaa fi har’a maaliif qooda xuubii kan akka hojjettaniif isinii ramadame sana
akkuma duriitti hin guuttanne?” jedhamanii gaafatamaa turan.

15 Israa’eloonni to’attoota hojii ta’anis dhaqanii akkana jedhanii Fara’oonitti
iyyatan; “Ati maaliif tajaajiltoota kee akkas goota? 16 Cidiin tajaajiltoota keetiif hin
kennamu; ta’us, ‘Xuubii hojjedhaa!’ nuun jedhan. Kunoo tajaajiltoonni kee reebamaa
jiru; balleessaan garuu kanuma saba keetii ti.”

17 Fara’oonis akkana jedhe; “Isin dhibaa’oo dha; isin dhibaa’oo dha! Kanaafuu isin,
‘Nu dhaqnee WAAQAYYOOF aarsaa dhi’eessina’ jettan. 18 Amma dhaqaatii hojjedhaa;
cidiin isiniif hin kennamu; garuu xuubii isinitti ramadame hojjetanii guutuu qabdu.”

19 Israa’eloonni to’attoota hojii ta’an yommuu, “Isin lakkoobsa xuubii kan guyyaa
guyyaatti akka hojjettaniif isin irraa eegamu sana hir’isuu hin qabdan” jedhamee
isaanitti himametti akka rakkina keessa seenan hubatan. 20 Yeroo Fara’oon biraa
gad ba’anitti utuu Musee fi Aroon isaan eeganuu argatan; 21 isaanis, “Waan isin
akka Fara’oonii fi qondaaltonni isaa nu xireeffatan gootanii akka isaan nu ajjeesaniif
goraadee harka isaanii keessa keessaniif WAAQAYYO isinitti haa ilaalu; isinitti haa
murus!” jedhan.

### *Waaqni Furama Abdachiise*

22 Museen gara WAAQAYYOOTTI deebi’ee akkana jedhe; “Yaa Gooftaa, ati maaliif
saba kanatti rakkina fidde? Ati kanaaf na ergitee? 23 Gaafa ani maqaa keetiin
dubbachuuf Fara’oon bira dhaqee jalqabee inni saba keetti rakkinuma fidaa jira; ati
garuu gonkumaa saba kee hin furre.”

## 6

1 WAAQAYYOS Museedhaan, “Amma waan ani Fara’oon irratti hojjedhu ati ni argita:
sababii irree koo jabaa sanaatiif mootichi gad isaan dhiisa; sababii irree koo jabaa
sanaatiifis mootichi biyya isaa keessaa isaan ari’a” jedhe.

2 Waaqni ammas Museedhaan akkana jedhe; “Ani WAAQAYYO. 3 Ani akka Waaqa
Waan Hunda Danda’uuttan Abrahaamitti, Yisihaaqittii fi Yaaqoobitti mul’adhe; garuu
maqaa koo WAAQAYYOON isaanitti of hin beeksifne. 4 Akkasumas ani biyya Kana’aan
lafa isaan akka alagaatti keessa jiraattan sana isaanii kennuuf jedhee isaan wajjin
kakuu galeera. 5 Kana irrattis, ani aaduu saba Israa’el kanneen warra Gibxiin
garboomfaman sanaa dhaga’ee kakuu koo yaadadheera.

6 “Kanaafuu saba Israa’eliin akkana jedhi: ‘Ani WAAQAYYO; waanjoo warra Gibxi
jalaa isin nan baasa; ani garbummaa isaanii jalaa isin nan baasa; irree diriiraa fi
murtii jabaadhaanis isin nan fura. 7 Ani akka saba ofii kootti isin fudhadha; Waaqa
keessan nan ta’a. Yeroo sana isin akka ani WAAQAYYO Waaqa keessan kan waanjoo
warra Gibxi jalaa isin baase ta’e ni beektu. 8 Ani biyya isan Abrahaamiif, Yisihaaqii fi
Yaaqoobiif kennuuf harka koo ol qabadhee kakadhe sanatti isin nan galcha. Dhaala
godhees isiniif kenna. Ani WAAQAYYO.’ ”

9 Museenis waan kana saba Israa'elitti hime; isaan garuu waan abdii kutatanii fi
garbummaa hamaa keessa turaniif isa hin dhageenye.
10 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 11 "Dhaqiitii akka inni biyya isaa keessaa
Israa'eloota gad lakkisuuf Fara'oon mooticha Gibxitti himi."
12 Museen garuu WAAQAYYOON, "Kunoo Israa'eloonni na hin dhageenye; yoos
Fara'oon akkamitti na dhaga'a ree? Afaan koo qajeelchee hin dubbatatuutii" jedhe.

### *Hidda Dhaloota Musee fi Aroon*

13 WAAQAYYO garuu waa'ee Israa'elootaatii fi waa'ee Fara'oon mooticha Gibxi
Musee fi Aroonitti dubbatee akka isaan saba Israa'el Gibxii baasan isaan ajaje.

14 Hangafoonni balbalawwan isaanii kanneenii dha:

Ilmaan Ruubeen ilma Israa'el hangaftichaa:
Henook, Faluus, Hezroonii fi Karmii.
Warri kunneen gosoota Ruubeen.

15 Ilmaan Simi'oon:
Yemuu'eel, Yaamiin, Oohad, Yaakiin, Zoohar, Shaawul ilma dubartittii Kana'aan.
Isaan kunneen maatiiwwan Simi'oon.

16 Maqaan ilmaan Lewwiis akkuma dhaloota isaaniitti kanaa dha:
Geershoon, Qohaatii fi Meraarii.
Lewwiin waggaa 137 jiraate.
17 Ilmaan Geershoon akkuma maatii isaaniitti:
Loobeenii fi Shime'ii.
18 Ilmaan Qohaati:
Amraam, Yizihaar, Kebroonii fi Uzii'eel.
Qohaati waggaa 133 jiraate.
19 Ilmaan Meraarii:
Mahilii fi Muusii.
Isaan kunneenis akkuma dhaloota isaaniitti maatiiwwan Lewwii ti.

20 Amraam obboleettii abbaa isaa Yookebeedin fuudhe; isheenis Aroonii fi Musee
deesseef.
(Amraam waggaa 137 jiraate.)
21 Ilmaan Yizihaar:
Qooraahi, Naafegii fi Zikrii.
22 Ilmaan Uzii'eel:
Miishaa'eel, Elzaafaanii fi Sitrii.
23 Aroon intala Amiinaadaab obboleettii Nahishoon Eliishebaa fuudhe; isheenis
Naadaab, Abiihuu, Ele'aazaarii fi Iitaamaarin deesseef.

24 Ilmaan Qooraahi:
Asiir, Elqaanaa fi Abii'aasaaf.
Isaan kunneenis maatiiwwan Qooraahii ti.

25 Ele'aazaar ilmi Aroon intallan Fuut'eel keessaa tokko fuudhe; isheenis Fiine-
haasin deesseef.

Isaan kunneenis akkuma maatiiwwan isaaniitti hangafoota balbala Lewwii ti.

26 Aroonii fi Museen warri Waaqayyo, “Isin akkuma kutaa kutaa isaaniitti Gibxi
keessaa Israa’eloota baasaa” jedheen sun isaanuma kana. 27 Isaanis warra waa’ee
Gibxi keessaa Israa’eloota baasuu Fara’oon mooticha Gibxitti dubbatan sanaa dha.
Musee fi Aroon isaanuma kana.

### *Aroon Qooda Musee Dubbachuu Isaa*

28 Waaqayyo yeroo Gibxi keessatti Museetti dubbate sana 29 akkana jedheen; “Ani
Waaqayyoo dha. Waan ani sitti himu hunda Fara’oon mooticha Gibxitti himi.”
30 Museen garuu Waaqayyoon, “Kunoo, ani waan afaan koo qajeelchee dubbachuu
hin dandeenyeef Fara’oon akkamiin na dhaga’a?” jedhe.

# 7

1 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; “Ilaa, ani Fara’ooniif waaqa si godheera;
obboleessi kee Aroon immoo raajii siif ta’a. 2 Ati waan ani si ajaju hunda ni dubbata;
obboleessi kee Aroon immoo akka inni Israa’eloota biyya isaa keessaa gad dhiisu
Fara’oonitti ni hima. 3 Ani garuu Fara’oonin mata jabeessa nan godha; yoo ani biyya
Gibxi keessatti mallattoowwanii fi dinqiiwwan koo baay’ise iyyuu, 4 inni isin hin
dhaggeeffatu. Ani harka koo Gibxi irratti ol nan kaasa; murtii jabaadhaanis raayyaa
koo, saba Israa’el biyya Gibxi keessaa nan baasa. 5 Warri Gibxi yommuu ani harka
koo Gibxi irratti ol kaafadhee saba Israa’el achi keessaa baasutti akka ani Waaqayyo
ta’e ni beeku.”
6 Musee fi Aroonis akkuma Waaqayyo isaan ajaje godhan. 7 Yeroo Fara’oonitti
dubbatanitti Museen nama waggaa saddeettama ture; Aroon immoo nama waggaa
saddeettamii sadii ture.

### *Uleen Aroon bofa ta’e*

8 Waaqayyos Musee fi Arooniin akkana jedhe; 9 “Yommuu Fara’oon, ‘Dinqii
hojjedhaa’ isiniin jedhutti, ati immoo Arooniin, ‘Ulee kee fuudhiitii fuula Fara’oon
duratti lafa buusi’ jetta; uleen sunis bofa ta’a.”
10 Musee fi Aroon Fara’oon bira dhaqanii akkuma Waaqayyo isaan ajaje sana
godhan. Aroon fuula Fara’oonii fi qondaaltota isaa duratti ulee isaa lafa buuse; uleen
sunis bofa taate. 11 Fara’oonis beektotaa fi falfaltoota ofitti waame; tolfattoonni Gibxi
ogummaa isaanii dhokataa sanaan akkasuma godhan. 12 Tokkoon tokkoon isaanii
ulee isaanii lafa buusan; uleen isaaniis bofa ta’e. Uleen Aroon garuu ulee isaanii
liqimsite. 13 Ta’us Fara’oon akkuma Waaqayyo dubbate sana mata jabeessa ta’ee
isaan dhaggeeffachuu dide.

### *Dha’icha Dhiigaa*

14 Kana irratti Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; “Fara’oon mata jabeessa
ta’eera; saba sanas gad dhiisuu dide. 15 Ganamaan gara Fara’oon dhaqi; kunoo inni
bishaanitti gad ba’a. Ulee bofatti geeddaramte sana harkatti qabadhuutii qarqara
laga Abbayyaatti isa eegi. 16 Akkanas jedhiin; ‘Waaqayyo Waaqni Ibrootaa akkana
jedhee sitti na ergeera: Akka sabni koo dhaqee gammoojjii keessatti naaf sagaduuf
gad lakkisi. Ati garuu hamma ammaatti ajajamuu diddeerta. 17 Waaqayyo akkana
jedha: Akka ani Waaqayyo ta’e ati kanaan beekta: Kunoo ani ulee harka koo
keessa jiru kanaan bishaan Abbayyaa nan dha’a; bishaan sunis dhiigatti geeddarama.
18 Qurxummiiwwan laga Abbayyaa keessaa ni du’u; lagni sunis ni ajaa’a; warri Gibxis
bishaan laga sanaa dhuguu hin danda’an.’ ”
19 Waaqayyo immoo Museedhaan akkana jedhe; “Arooniin akkana jedhi; ‘Ulee kee
qabadhuutii bishaanota Gibxi irratti, lageen isaanii irratti, doloolloo isaanii irratti,
haroo isaaniitii fi kuusaa bishaanii hunda irratti harka kee diriirsi.’ Isaanis dhiigatti
geeddaramu. Gibxi guutuun dhiigaan guutama; qodaan mukaatii fi okkoteen dhagaa
dhiigaan guutaman.”

20 Musee fi Aroon akkuma WAAQAYYO isaan ajaje sana godhan. Aroon ulee isaa
ol fuudhee fuula Fara’ooniitii fi qondaaltota isaa duratti bishaan Abbayyaa dha’e;
bishaan sun hundis dhiigatti geeddarame. 21 Qurxummiiwwan Abbayyaa duunaan
lagichi ajaa’e; warri Gibxis bishaan isaa dhuguu hin dandeenye. Gibxi guutuunis
dhiigaan guutame.
22 Garuu tolfattoonni Gibxi tolcha isaaniitiin akkasuma hojjetan; Fara’oonis mata
jabeessa ta’e. Innis akkuma WAAQAYYO jedhe sana Musee fi Aroon dhaga’uu dide.
23 Fara’oonis deebi’ee masaraa isaa seene; innis waan kana yaadatti illee hin
qabanne. 24 Warri Gibxi hundi waan bishaan laga sanaa dhuguu hin danda’iniif
bishaan dhugaatii baafachuuf jedhanii qarqara Abbayyaa qotatan.

### *Dha’icha Fattee*

25 Erga WAAQAYYO Abbayyaan dha’ee guyyaan torba darbe.

# 8

* 1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Fara’oon bira dhaqii akkana jedhiin;
‘WAAQAYYO akkana jedha: Akka sabni koo na tajaajiluuf gad dhiisi. 2 Yoo ati gad
isa dhiisuu didde immoo kunoo ani biyya kee guutuutti dha’icha fattee nan erga.
3 Lagni Abbayyaa fatteedhaan guutuma; isaanis ol ba’anii mana keetti, dinqa keetti,
siree keetti, mana hojjettoota keetiitti, saba keetti, iddoo ibiddaa keetti, qodaa bukoo
keetiittis nam’u. 4 Fatteewwan kunneen si’ii fi saba kee, qondaaltota kee hundas ni
yaabbatu.’ ”
5 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Arooniin akkana jedhi; ‘Ulee kee
qabadhuutii harka kee burqaawwan irratti, lageenii fi kuusaa bishaanii irratti ol
kaafadhuutii akka fatteewwan biyya Gibxitti dhufan godhi.’ ”
6 Aroon harka isaa bishaanota Gibxitti ol kaafate; fatteewwanis ol ba’anii biyya
sana guutan. 7 Tolfattoonnis falfala isaaniitiin akkasuma godhan; biyya Gibxittis
fatteewwan fidan.
8 Fara’oonis Musee fi Aroonin ofitti waamee, “Akka inni anaa fi saba koo irraa
fatteewwan fageessuuf WAAQAYYO kadhadhaa; anis akka sabni keessan dhaqee
WAAQAYYOOF aarsaa dhi’eessuuf gadin dhiisa” jedhe.
9 Museenis Fara’ooniin, “Akka fatteewwan si’ii fi manneen kee irraa badanii laga
Abbayyaa qofa keessatti hafaniif yeroo ani itti siif, qondaaltota keetii fi saba keetiif
illee Waaqa kadhadhu ati na beeksisi” jedhe.
10 Fara’oon immoo, “Bor” jedheen.
Museenis akkana jedhee deebise; “WAAQAYYO Waaqa keenyaa fakkaatu kan tokko
iyyuu akka hin jirre akka beektuuf akkuma ati jettu ta’a. 11 Fatteewwan sun si’ii fi
manneen kee irraa, qondaaltota keetii fi saba kee irraa ni badu; laga Abbayyaa qofa
keessattis ni hafu.”
12 Musee fi Aroon erga Fara’oon biraa gad ba’anii booddee Museen waa’ee
fatteewwan Waaqni Fara’oonitti erge sanaa WAAQAYYOTTI iyye. 13 WAAQAYYOS akkuma
Museen kadhate godhe. Fatteewwan sunis mana keessatti, oobdii irratti, dirree
irrattis dhuman. 14 Fatteewwan sunis walitti qabamanii tuulaman; biyyattiinis ni
ajoofte. 15 Fara’oon garuu yommuu akka dha’ichi sun qabbanaa’e argetti akkuma
WAAQAYYO dubbatee ture sana mata jabeessa ta’ee Musee fi Aroonin dhaga’uu dide.

### *Dha’icha Injiraanii*

16 Ergasiis WAAQAYYO Museedhaan, “Arooniin, ‘Ulee kee ol kaasiitii awwaara lafaa
dha’i’ jedhi; awwaarri sunis biyya Gibxi guutuu keessatti injiraan ta’a” jedhe.
17 Isaanis akkasuma godhan. Yommuu Aroon harka isaa isa ulee qabate ol kaafatee

* **8:** 8 Kutaan 8:1-4 kitaaba Afaan Ibraayisxii keessatti 7:26-29 jedhamee, kutaan 8:5-32 immoo 8:1-28 jedhama.

awwaara lafaa dha'etti injiraan namaa fi horiitti duudde. Awwaarri guutuu biyya
Gibxi keessa jiru hundi injiraan ta'e. [18] Tolfattoonni garuu falfala isaaniitiin injiraan
gad yaasuu yaalanii dadhaban.
Injiraanis namaa fi horii irra ture. [19] Tolfattoonnis Fara'ooniin, "Kun quba Waaqaa
ti" jedhan. Fara'oon garuu akkuma WAAQAYYO dubbate sana mata jabeessa ta'ee
dhaga'uu dide.

*Dha'icha Tisiisaa*

[20] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Ganama barii ka'iitii fuula Fara'oon
duratti dhi'aadhu; kunoo inni gara bishaanitti gad ba'a; akkanas jedhiin; 'WAAQAYYO
akkana jedha: Akka inni na tajaajiluuf saba koo gad dhiisi. [21] Yoo ati saba koo
gad dhiisuu didde immoo kunoo, ani tuuta tisiisaa sitti, qondaaltota keetti, saba
keetti, manneen keetti nan erga. Manneen warra Gibxi, lafti isaan jiraatanis tisiisaan
guutamu.
[22] " 'Ani garuu guyyaa sana iddoo sabni koo jiraatu Gooshenin haala addaatiin nan
ilaala; akka ati akka ani WAAQAYYO biyya kana keessa jiru beektuuf tisiisni tokko
iyyuu achi hin jiraatu. [23] Ani saba kootii fi saba kee gidduutti garaa garummaa nan
uuma. Mallattoon kunis bori ta'a.' "
[24] WAAQAYYOS akkasuma godhe. Tisiisni baay'een mana Fara'oonii fi manneen
qondaaltota isaatti duude; biyyi Gibxi guutuunis tisiisaan balleeffame.
[25] Fara'oonis Musee fi Aroonin ofitti waamee, "Dhaqaatii biyyuma kana keessatti
Waaqa keessaniif aarsaa dhi'eessaa" jedheen.
[26] Museen immoo deebisee akkana jedhe; "Akkas gochuun qajeelaa hin ta'u;
aarsaan nu WAAQAYYO Waaqa keenyaaf dhi'eessinu warra Gibxi biratti jibbamaa dha.
Kunoo, yoo nu aarsaa fuula isaanii duratti jibbamu dhi'eessine isaan dhagaadhaan
nu hin tumanii ree? [27] Akkuma inni nu ajajetti nu WAAQAYYO Waaqa keenyaaf aarsaa
dhi'eessuuf gara gammoojjii karaa guyyaa sadii deemuu qabna."
[28] Fara'oonis, "Ani akka isin gammoojjii keessatti WAAQAYYO Waaqa keessaniif
aarsaa dhi'eessitaniif gadin isin dhiisa; garuu baay'ee fagaattani hin deeminaa. Isinis
Waaqa naa kadhadhaa" jedhe.
[29] Museenis akkana jedhee deebise; "Kunoo, ani akkuman si biraa deemeen akka
bor tisiisni Fara'oon irraa, qondaaltota isaatii fi saba isaa irraa ka'u WAAQAYYO nan
kadhadha. Yaa Fara'oon ati garuu, akka sabni kun WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessuuf
gad dhiisuu diddee ammas nu hin gowwoomsin."
[30] Museenis ergasii Fara'oon biraa ba'ee WAAQAYYO kadhate; [31] WAAQAYYOS akkuma
Museen isa kadhate sana godhe; tisiisni sunis Fara'oonin, qondaaltota isaatii fi saba
isaa gad dhiisee deeme; tisiisni tokko iyyuu hin hafne. [32] Fara'oon garuu ammas mata
jabeessa ta'e; saba sanas gad dhiisuu dide.

# 9

*Dha'icha Horiitti Dhufe*

[1] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Fara'oon bira dhaqiitii akkana jedhiin;
'WAAQAYYO Waaqni Ibrootaa akkana jedha; "Akka sabni koo na tajaajiluuf gad
dhiisi." [2] Yoo ati gad dhiisuu diddee isaan danqite, [3] kunoo harki WAAQAYYOO
horii kee kanneen dirree irra oolan fardeen, harrootaa fi gaalawwan keetti, loon,
hoolotaa fi re'oota keetti dha'icha hamaa ni fida. [4] WAAQAYYO garuu akka horiin saba
Israa'el tokko iyyuu hin duuneef horii Israa'elii fi horii warra Gibxi gidduutti garaa
garummaa ni uuma.' "
[5] WAAQAYYO yeroo murteessee, "WAAQAYYO bor waan kana biyyattii keessatti ni
hojjeta" jedhe. [6] WAAQAYYOS guyyaa itti aanutti waan kana hojjete: Horiin warra
Gibxi hundi ni dhume; horii warra Israa'el keessaa garuu tokko iyyuu hin duune.

[7] Fara’oonis namoota qoratan ergee, kunoo akka horii saba Israa’el keessaa tokko
illee hin du’in beeke. Ta’us Fara’oon mata jabeessa ta’ee saba sana gad dhiisuu dide.

### *Dha’icha Dhullaa*

[8] WAAQAYYO immoo Musee fi Arooniin akkana jedhe; “Daaraa harka guutuu iddoo
ibiddaatii hammaaraa; Museenis daaraa sana fuula Fara’oon duratti samiitti ol haa
facaasu. [9] Innis biyya Gibxi guutuu keessatti awwaara ta’a; dhullaan malaa yaasu
namaa fi horii guutuu biyyattii keessa jiranitti yaa’a.”

[10] Isaan boolla ibiddaa irraa daaraa hammaarratanii fuula Fara’oon dura dhaa-
batan. Museenis daaraa sana samiitti ol facaase; dhullaan malaa yaasus namaa
fi horiitti yaa’e. [11] Tolfattoonnis sababii dhullaatiif Musee dura dhaabachuu hin
dandeenye; dhullaan tolfattootaa fi warra Gibxi hundatti yaa’ee tureetii. [12] Garuu
WAAQAYYO akkuma Museetti hime sana WAAQAYYO Fara’oonin mata jabeessa godhe;
innis Musee fi Aroonin dhaga’uu dide.

### *Dha’icha Cabbii*

[13] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Ganama barii ka’iitii fuula Fara’oon dura
dhaabadhu; akkanas jedhiin; ‘WAAQAYYO Waaqni Ibrootaa akkana jedha; akka sabni
koo na tajaajiluuf gad dhiisi; [14] yoo kanaa achii ani amma dha’icha koo hunda sitti,
qondaaltota keetii fi saba keetti nan erga; kunis akka ati akka Waaqni akka koo lafa
hunda irra hin jirre beektuuf. [15] Silaa amma ani harka koo ol fudhadhee si’ii fi
saba kee dhukkuba hamaan dha’uu nan danda’a ture; atis lafa irraa badda turte.
[16] Ani garuu humna koo sirratti argisiisuu fi akka maqaan koo lafa hunda irratti
labsamuuf jedheen kaayyoo kanaaf si jiraachise. [17] Ati amma iyyuu saba koo irratti
ol ol of qabda; jaras gad hin dhiiftu. [18] Kunoo ani bori yeroo akkanaatti cabbii hamaa
erga Gibxi hundeeffamtee jalqabee hamma ammaatti takkumaa Gibxitti hin bu’in
tokko nan buusa. [19] Egaa amma nama ergiitii horii keetii fi waan alaa qabdu hunda
manatti galchisiisi; cabbiin sunis namaa fi horii manatti hin galin kanneen alatti
hafan hundatti ni bu’a; isaanis ni dhumu.’ ”

[20] Qondaaltota Fara’oon keessaa warri dubbii WAAQAYYOO sodaatan garboota
isaaniitii fi horii isaanii manatti galfachuuf ariifatanii sokkan. [21] Warri dubbii
WAAQAYYOOTIIF xiyyeeffannoo hin kennin immoo garboota isaaniitii fi horii isaanii
alatti dhiisan.

[22] WAAQAYYO Museedhaan, “Akka cabbiin biyya Gibxi hundatti namatti, horii fi
biqiltuu lafa qotiisaa Gibxi hunda irratti bu’uuf harka kee gara samiitti diriirsi”
jedhe. [23] Yommuu Museen ulee isaa gara samiitti diriirsettis WAAQAYYO kakawwee
fi cabbii erge; ibiddis gara lafaatti gad bu’e. WAAQAYYOs biyya Gibxitti cabbii roobse;
[24] cabbiin ni bu’e; ibiddis cabbii wajjin wal make. Cabbiin hamaan akkanaa erga
Gibxi saba taatee beekamtee as takkumaa guutuu biyyattiitti hin buune. [25] Cabbiin
sunis biyya Gibxi keessatti waan ala jiru hunda namas horiis ni dha’e; biqiltuu lafa
qotiisaa hundas ni balleesse; muka hundas ni barbadeesse. [26] Lafti cabbiin itti hin
bu’in biyya Gooshen iddoo Israa’eloonni jiraatan qofa ture.

[27] Fara’oonis Musee fi Aroonin ofitti waamee akkana jedheen; “Ani amma cubbuu
hojjedheera; WAAQAYYO qajeelaa dha; anii fi sabni koo garuu balleessaa hojjenneerra.
[28] Sababii bakakkaa fi cabbiin nutti baay’ateef isin WAAQAYYOON nuuf kadhadhaa.
Anis gad isin nan dhiisa; isin hammana caalaa as turuu hin qabdan.”

[29] Museenis akkana jedhee deebise; “Ani yommuu magaalaa kana keessaa ba’utti
harka koo bal’isee WAAQAYYO nan kadhadha. Bakakkaan ni dhowwama; cabbiinis
si’achi hin jiraatu; kanaanis ati akka lafti kan WAAQAYYOO taate ni beekta. [30] Ani
garuu akka atii fi qondaaltonni kee amma iyyuu WAAQAYYO Waaqa hin sodaanne nan
beeka.”

31 Waan talbaan daraaree, garbuun immoo bilchaatee tureef talbaa fi garbuun ni
badan. 32 Qamadii fi honboriin garuu waan turanii bilchaataniif hin badne.
33 Museenis Fara’oon biraa deemee magaalaa keessaa gad ba’e; innis harka isaa
gara WAAQAYYOOTTI bal’ise; bakakkaa fi cabbiin ni dhowwaman. Bokkaanis deebi’ee
biyyattiitti hin roobne. 34 Fara’oonis yommuu akka bokkaan, cabbii fi bakakkaan
dhowwaman argetti ammas cubbuu hojjete; innii fi qondaaltonni isaa mata jabeeyyii
ta’an. 35 Akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin dubbate sana, Fara’oon mata jabeessa
ta’e; saba Israa’elis gad dhiisuu dide.

# 10

*Dha’icha Hawwaannisaa*

1 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; “Fara’oonitti ol seeni; ani akka mallat-
toowwan koo kanneen isaan gidduutti hojjedhuuf jedhee Fara’oonii fi qondaaltota
isaa mata jabeeyyii godheera; 2 kunis akka ati waan ani warra Gibxi godhe, mallattoo
ani isaan gidduutti argisiises ijoollee keetii fi ijoollee ijoollee keetiitti himtee akka ani
WAAQAYYO ta’e akka beektaniif ta’e.”
3 Musee fi Aroonis Fara’oon bira dhaqanii akkana jedhaniin; “WAAQAYYO Waaqni
Ibrootaa akkana jedha: ‘Ati hamma yoomiitti fuula koo duratti gad of qabuu didda?
Akka isaan na tajaajilaniif saba koo gad dhiisi. 4 Yoo ati gad isaan dhiisuu didde,
kunoo ani bori biyya keetti hawwaannisa nan fida. 5 Hawwaannisni kunis hamma
namni tokko iyyuu arguu dadhabutti lafa haguuga. Innis waanuma cabbii irraa isinii
hafe illee ni fixa; mukkeen alatti isinii guddachaa jiranis nyaatee fixa. 6 Inni mana kee,
mana qondaaltota keetii hundaa fi mana warra Gibxi hundumaa guuta; kunis waan
abbootiin keetii fi abbootiin abbootii keetii gaafa biyya kana qubatanii jalqabanii
hamma har’aatti hin arginii dha.’ ” Kana booddee Museen garagalee Fara’oon biraa
ba’e.
7 Qondaaltonni Fara’oonis, “Namichi kun hamma yoomiitti kiyyoo nutti ta’a?
Namoonni kun akka WAAQAYYO Waaqa isaanii tajaajilaniif gad dhiisi. Akka Gibxi
badde ati amma illee hin hubannee?” jedhaniin.
8 Musee fi Aroonin deebisanii Fara’oonitti geessan; Fara’oonis, “Dhaqaatii
WAAQAYYO Waaqa keessan waaqeffadhaa! Garuu eenyutu deema?” jedheen.
9 Museenis, “Nu sababii ayyaana WAAQAYYOO ayyaaneffannuuf dargaggoota
keenyaa fi maanguddoota keenya, ilmaanii fi intallan keenya, bushaayee fi loon
keenya qabannee deemna” jedhee deebise.
10 Fara’oonis akkana jedhe; “Yoo ani dubartoota keessanii fi ijoollee keessan isin
wajjin gad dhiise, mee WAAQAYYO isin wajjin haa ta’u! Kunoo waan hamaatu isin
dura jira. 11 Kun hin ta’u! Akka warri dhiiraa qofti dhaqanii WAAQAYYO waaqeffatan
godhaa; isin kanuma barbaaddaniitii.” Isaanis fuula Fara’oon duraa gad baafaman.
12 WAAQAYYOS Museedhaan, “Akka hawwaannisni biyya Gibxitti bu’ee biqiltuu lafa
qotiisaa hunda, waan cabbii irraa hafe hundas nyaatuuf harka kee Gibxi irratti
diriirsi” jedhe.
13 Museenis ulee isaa Gibxi irratti diriirsinaan WAAQAYYO guyyaa sana guutuu
fi halkan sana guutuu akka bubbeen ba’a biiftuu biyyattii keessatti bubbisu
godhe; ganama itti aanus bubbeen sun hawwaannisa fidee dhufe; 14 hawwaannisni
sunis Gibxi guutuu weerare; biyya hunda keessas baay’inaan qubate. Dha’ichi
hawwaannisaa kan akkasii duraan takkumaa bu’ee hin beeku; ergasiis takkumaa
deebi’ee hin buune. 15 Hawwaannisni sunis hamma lafti gurraacha’utti lafa hunda
haguuge; innis waan cabbii irraa hafe hunda, waan alatti biqile hunda, ija mukaa
illee ni nyaate. Biyya Gibxi hunda keessatti wanni lalisaan tokko iyyuu muka irratti
yookaan biqiltuu irratti hin hafne.

16 Fara’oonis dafee Musee fi Aroonin waamee akkana jedheen; “Ani WAAQAYYO
Waaqa keessanii fi isinitti cubbuu hojjedheera. 17 Egaa mee cubbuu koo naa dhiisaa;
akka inni dha’icha nama ajjeesu kana narraa fuudhuufis WAAQAYYO Waaqa keessan
naa kadhadhaa.”
18 Museenis Fara’oon biraa gad ba’ee WAAQAYYO kadhate. 19 WAAQAYYOs bubbee
sana gara bubbee lixa biiftuu jabaatti geeddare; bubbeen sunis hawwaannisa sana
fuudhee Galaana Diimaatti naqe. Gibxi keessatti hawwaannisni tokko iyyuu hin
hafne. 20 WAAQAYYO garuu Fara’oonin mata jabeessa godhe; Fara’oonis Israa’eloota
gad hin dhiifne.

### *Dha’icha Dukkanaa*

21 WAAQAYYO immoo Museedhaan, “Akka dukkanni Gibxi irra bu’uuf harka kee gara
samiitti diriirsi” jedhe. 22 Museen harka isaa gara samiitti diriirse; dukkanni limixiin
isaa guyyaa sadii Gibxi guutuu haguuge. 23 Guyyaa sadan sana namni wal hin argu
ture; lafa jiruus hin socho’u ture. Israa’eloonni hundi garuu iddoo jiraatanitti ifa
qabu turan.
24 Fara’oonis Musee ofitti waamee, “Dhaqaatii WAAQAYYO waaqeffadhaa. Dubar-
toonnii fi ijoolleen keessanis isin wajjin haa deemani; bushaayee fi loon keessan qofa
dhiisaa deemaa” jedheen.
25 Museen garuu akkana jedhe; “Ati akka nu WAAQAYYO Waaqa keenyaaf aarsaa
fi qalma gubamu dhi’eessinuuf nuu eeyyamuu qabda. 26 Horiin keenyas nu
wajjin dhaquu qaba; kotteen tokko iyyuu hin hafu. WAAQAYYO Waaqa keenya
waaqeffachuuf isaan keessaa tokko tokkotti fayyadamna; hamma achi geenyutti
WAAQAYYO waaqeffachuuf maalitti akka fayyadamnu hin beeknu.”
27 WAAQAYYO garuu Fara’oonin mata jabeessa godhe; innis gad isaan dhiisuu dide.
28 Fara’oonis Museedhaan, “Fuula koo duraa badi! Lammata fuula koo akka hin
argine beekkadhu; ati gaafa fuula koo argite ni duuta!” jedhe.
29 Museenis deebisee, “Akkuma ati jette, ani lammata fuula keetti hin mul’adhu”
jedhe.

## 11

### *Dha’icha Hangafa Irra Ga’e*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Ani amma illee dha’icha tokko Fara’oonii
fi Gibxitti nan fida. Ergasii inni asii isin baasa; yeroo asii isin baasutti immoo inni
guutumaan guutuutti isin ari’a. 2 Akka tokkoon tokkoon dhiiraatii fi tokkoon tokkoon
dubartii ollaa isaanii irraa mi’a meetiitii fi mi’a warqee ergifatan saba kanatti himi.”
3 WAAQAYYO akka sabni Israa’el fuula warra Gibxi duratti surraa argatan godhe; kana
malees Museen biyya Gibxi keessatti, fuula qondaaltota Fara’ooniitii fi fuula saba
Gibxi duratti akka malee ulfina qabeessa ture.
4 Museen akkana jedhe; “WAAQAYYO akkana jedha; ‘Ani gara halkan walakkaatti
Gibxi hunda keessa nan darba. 5 Ilma Fara’oon namicha teessoo irra taa’u sanaa
hangafaa jalqabee hamma ilma xomboree ishee midhaan daaktu sanaa hangafaatti
ilmi hangafni biyya Gibxi keessaa hundi ni du’a; akkasumas hangafni horii hundi ni
du’a. 6 Biyya Gibxi guutuu keessattis wawwaachuu guddaan takkumaa dhaga’amee
hin beekin yookaan deebi’ees hin dhaga’amne tokko ni dhufa. 7 Garuu saba
Israa’el keessaa nama tokkotti iyyuu yookaan horii tokkotti iyyuu sareen tokko iyyuu
hin duttu.’ Isinis waan kanaan akka WAAQAYYO Gibxii fi Israa’el gidduutti garaa
garummaa fidu ni beektu. 8 Qondaaltonni kee kunneen hundinuu gara koo dhufanii
naa sagadan; ‘Atis, namoonni si duukaa bu’an hundinuus deemaa!’ jedhu; anis
ergasii nan deema.” Museenis akka malee aaree Fara’oon biraa ba’e.

9 WAAQAYYO Museedhaan, “Akka dinqiin koo biyya Gibxitti baay’atuuf Fara’oon
isin dhaga’uu dida” jedhe. 10 Musee fi Aroonis dinqiiwwan kanneen hunda fuula
Fara’oon duratti hojjetan; WAAQAYYO garuu Fara’oonin mata jabeessa godhe; innis
akka Israa’eloonni biyya isaa keessaa hin baane dhowwe.

# 12

### *Faasiikaa*
*12:14-20 kwf – Lew 23:4-8; Lak 28:16-25; KeD 16:1-8*

1 WAAQAYYOS biyya Gibxi keessatti Musee fi Arooniin akkana jedhe; 2 “Ji’i kun
ji’a jalqabaa isinii haa ta’u; innis waggaa keessaa ji’a jalqabaa isinii haa ta’u.
3 Ji’a kana keessa bultii kurnaffaatti tokkoon tokkoon namaa xobbaallaa hoolaa
tokko akkuma manneen abbootii isaaniitti tokkoo tokkoo manaatii fi xobbaallaa
hoolaa tokko akka fudhatu guutummaa hawaasa Israa’elitti himaa. 4 Yoo warri
mana tokko jiraatan muraasa ta’anii hoolaa tokko guutummaatti fixuu baatan,
isaan akkuma baay’ina namoota achi jiraataniitti ollaa isaanitti aanu wajjin haa
qoodatan. Isinis akkuma waan tokkoon tokkoon namaa nyaachuu danda’uutti
xobbaallaa hoolaa hammam akka barbaachisu murteessuu qabdu. 5 Xobbaallaan
keessan ilmoo hoolaa waggaa tokkoo kan mudaa hin qabne ta’uu qaba; xobbaallaa
sanas hoolota keessaa yookaan re’oota keessaa fudhachuu dandeessu. 6 Xobbaallaa
sanas hamma bultii kudha afuraffaa ji’a kanaatti eegaa; yaa’iin waldaa Israa’el
guutuunis galgala sana xobbaallaa sana haa qalatu. 7 Ergasii immoo dhiiga sana
irraa xinnoo fuudhanii michichila balbalaa lamaanii fi buusaa balbalaa isa ol aanu
kan mana itti xobbaallaa sana nyaatanii haa diban. 8 Isaanis halkanuma sana foon
sana ibiddaan waaddatanii biqiltuu hadhooftuu fi maxinoon haa nyaatan. 9 Ibiddaan
waaddadhaatii nyaadhaa malee foon dheedhii yookaan kan bishaaniin affeelame
hin nyaatinaa; mataa isaa, lukaa fi mi’a garaa wajjin waaddadhaatii nyaadhaa.
10 Hamma lafti bariitutti homaa hin hambisinaa; waan hamma ganamaatti irraa
hafu garuu gubaa. 11 Haalli isin itti nyaattanis kunoo ti; mudhii keessan hidhadhaa;
kophee keessan miillatti kaa’adhaa; ulee keessan illee harkatti qabadhaatii jarjarsuun
nyaadhaa; inni Faasiikaa WAAQAYYOO ti.

12 “Anis halkanuma sana Gibxi keessa nan darba; hangafa Gibxis namaa fi horii nan
dha’a; waaqota Gibxi hundattis nan mura; ani WAAQAYYO. 13 Dhiigni sunis manneen
isin keessa jiraattan irratti mallattoo isinii ta’a; ani yommuun dhiiga sana argutti isin
irra nan darba. Yeroo ani biyya Gibxi dha’uttis dha’ichi badiisaa tokko iyyuu isin hin
tuqu.

14 “Guyyaan kun guyyaa yaadannoo isiniif haa ta’u; akka ayyaanaatti WAAQAYYOOF
ni ayyaaneffattu; dhaloota keessan hunda keessattis sirna bara baraa godhattanii
ni eegdu. 15 Isin bultii torba maxinoo nyaachuu qabdu; guyyaa jalqabaatti
mana keessanii raacitii baasaa gataa; namni kam iyyuu guyyaa jalqabaatii kaasee
hamma guyyaa torbaffaatti yoo buddeena bukaa’e nyaate saba Israa’el keessaa haa
balleeffamu. 16 Guyyaa jalqabaatti wal ga’ii qulqulluu qabaadhaa; wal ga’ii qulqulluu
biraa immoo guyyaa torbaffaatti qabaadhaa. Waan namni hundi nyaatu qopheessuu
malee guyyoota kanneen hojii tokko iyyuu hin hojjetinaa; wanni isin hojjechuu
dandeessan kanuma.

17 “Sababii guyyaan ani itti raayyaa keessan Gibxi keessaa baase guyyuma
kana ta’eef Ayyaana Maxinoo kana ayyaaneffadhaa; guyyaa kanas sirna bara
baraa godhadhaatii dhaloota keessan hunda keessatti ayyaaneffadhaa. 18 Isin ji’a
jalqabaa keessa galgala bultii kudha afuraffaadhaa hamma galgala guyyaa digdamii
tokkoffaatti maxinoo nyaattu. 19 Bultii torbaaf raacitiin tokko illee mana keessanitti
hin argamin; alagaas ta’u dhalataan biyyaa, namni waan raacitii qabu nyaatu kam

iyyuu waldaa Israa’el keessaa haa balleeffamu. 20 Waan raacitii qabu tokko illee hin
nyaatinaa; lafa jiraattan hundatti Maxinoo nyaadhaa.”

21 Museen maanguddoota Israa’el hunda ofitti waamee akkana jedheen; “Dhaqaatii
maatii keessaniif xobbaallaa filadhaatii Faasiikaa qalaa. 22 Hiisophii qabaa tokkoo
fuudhaa; dhiiga waciitii keessa jiru sana keessa cuuphaatii michichila balbalaa
lamaanii fi buusaa balbalaa isa ol aanu dibaa. Isin keessaa namni tokko iyyuu
hamma lafti bariitutti balbala mana ofii isaatii gad hin ba’in. 23 WAAQAYYO yeroo
warra Gibxi dha’uuf biyyattii keessa darbutti michichila balbalaa lamaan irrattii fi
buusaa balbalaa isa ol aanu irratti dhiiga sana argee balbala sana bira darba; akka
inni waa balleessu sun mana keessan seenee isin ajjeesus hin eeyyamuuf.

24 “Isinis qajeelfama kana akka seera bara baraa kan isinii fi sanyii keessaniif
kennameetti kabajaa. 25 Isinis yeroo biyya WAAQAYYO akkuma waadaa gale sanatti
isinii kennu seentanitti sirna kana eegaa. 26 Yommuu ijoolleen keessan, ‘Sirni
kun isiniif hiikkaa maalii qaba?’ jedhanii isin gaafatanitti, 27 akkana jedhaa
isaanitti himaa; ‘Kun qalma Faasiikaa WAAQAYYOO ti; inni yeroo warra Gibxi dha’etti
manneen Israa’eloota Gibxi keessa turan sanaa irra darbee manneen keenya nuuf
oolcheeraatii.’ ” Kana irratti namoonni gad jedhanii waaqeffatan. 28 Israa’eloonnis
akkuma WAAQAYYO Musee fi Aroonin ajaje sana godhan.

29 Halkan walakkaatti WAAQAYYO ilma Fara’oon namicha teessoo irra taa’u
hangafaa jalqabee hamma ilma namicha boolla mana hidhaa keessa jiru hangafaatti
hangafoota Gibxi hunda dha’e; hangafoota horiis akkasuma dha’e. 30 Fara’oonii fi
qondaaltonni isaa hundi, warri Gibxi hundis halkaniin ka’an; sababii manni namni
keessaa hin du’in tokko iyyuu hin turiniif boo’icha guddaatu Gibxi keessa ture.

### *Gibxii Ba’uu*

31 Fara’oonis halkan sanaan Musee fi Aroonin ofitti waamee akkana jedhe; “Ka’aa!
Isinii fi Israa’eloonni saba koo keessaa ba’aa! Akkuma gaafattan sana dhaqaatii
WAAQAYYOON waaqeffadhaa. 32 Akkuma jettan sana bushaayee fi loon keessan
fudhadhaatii deemaa; anas eebbisaa.”

33 Warri Gibxis akka sabni sun dafee biyya sanaa ba’u jarjarsan; isaanis, “Yoo
kanaa achii nu hundi ni dhumnaa” jedhan. 34 Kanaafuu sabni sun bukoo isaanii utuu
hin bukaa’in fudhatanii, qodaa bukoo isaaniis wayyaa isaaniitiin maranii gatiittiitti
baadhatan. 35 Israa’eloonnis akkuma Museen isaanitti hime sana godhan; isaanis
mi’a meetiitii fi warqee, wayyaas warra Gibxi gaafatan. 36 Sababii WAAQAYYO fuula
warra Gibxi duratti Israa’elootaaf surraa kenneef, warri Gibxi waan isaan gaafatan
hunda kennaniif; isaanis akkasiin qabeenya warra Gibxi booji’anii ba’an.

37 Israa’eloonnis Raamseedhaa ka’anii Sukootitti qajeelan. Isaanis nadheenii
fi ijoollee malee namoota lafoo gara kuma dhibba ja’a turan. 38 Uummanni
walitti makame hedduun, akkasumas horiin jechuunis bushaayee fi loon baay’een
isaan wajjin ba’an. 39 Isaanis bukoo Gibxi fudhatanii dhufan sana irraa Maxinoo
tolfatan. Sababii isaan jarjarsuudhaan Gibxi keessaa baafamanii yeroo itti nyaata
qopheeffatan illee dhabaniif bukoon sun raacitii hin qabu ture.

40 Barri Israa’eloonni Gibxi keessa jiraatan waggaa 430 ture. 41 Dhuma waggaa 430
sanaatti guyyuma sana raayyaan WAAQAYYOO hundi biyya Gibxiitii ba’e. 42 WAAQAYYO
Gibxi keessaa isaan baasuudhaaf dammaqee halkan sana waan isaan eegeef,
halkan kun Israa’eloota hundumaaf halkan itti WAAQAYYOOF ulfina kennuudhaaf
dammaqanii eeganii dha.

### *Seera Faasiikaa*

43 WAAQAYYOS Musee fi Arooniin akkana jedhe; “Seerri Faasiikaa kanaa dha:

"Ormi tokko iyyuu isa irraa hin nyaatin. 44 Garbichi bitame kam iyyuu erga dhagna
qabdanii booddee haa nyaatu; 45 keessummaan yookaan namni hojjetaan qacarame
garuu hin nyaatin.
46 "Hoolaan sun manuma tokko keessatti haa nyaatamu; foon isaa tokko iyyuu
manaa gad hin baasinaa. Lafee isaa keessaas tokko iyyuu hin cabsinaa. 47 Waldaan
Israa'el hundis ayyaana kana haa ayyaaneffatu.
48 "Ormi isin wajjin jiraatu yoo Faasiikaa WAAQAYYOO ayyaanessuu barbaade inni
dhiirota mana isaa jiraatan hunda dhagna haa qabu; ergasiis akkuma dhalataa
biyyaatti ayyaanicha haa ayyaanessu. Dhiirri dhagna hin qabatin tokko iyyuu garuu
hoolaa sana hin nyaatin. 49 Dhalataa biyyaatiifis ta'u orma isin gidduu jiraatuuf seerri
tokkuma."
50 Israa'eloonni hundis akkuma WAAQAYYO Musee fi Aroonin ajaje sana godhan.
51 WAAQAYYOS gaafuma sana kutaa kutaa isaaniitiin Israa'eloota biyya Gibxi keessaa
baase.

# 13

*Hangafni Waaqaaf Addaan Baafamuu Isaa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Dhiira hangafa hunda addaan naa baasi;
Israa'eloota keessaa namas ta'u horiin hangafni gadameessa banu kam iyyuu kan koo
ti."
3 Yommus Museen uummataan akkana jedhe; "Sababii WAAQAYYO irree jabaadhaan
achii isin baaseef guyyaa itti mana garbummaatii Gibxi keessaa baatan kana
yaadadhaa. Waan raacitii qabu tokko illee hin nyaatinaa. 4 Isin ji'a Abiibii keessa
guyyaa har'aa baatan. 5 Yeroo WAAQAYYO gara biyya Kana'aanotaa, Heetotaa,
Amoorotaa, biyya Hiiwotaa fi Yebuusotaatti jechuunis biyya aannanii fi damma baasu
kan inni akka siif kennu abbootii keetiif kakate sanatti si galchutti ati ji'a kana keessa
ayyaana kana ayyaaneffatta; 6 ati bultii torba Maxinoo nyaatta; guyyaa torbaffaatti
immoo ayyaana WAAQAYYOO ta'a. 7 Guyyaa torban sana Maxinoo nyaadhu; wanni
raacitii qabu tokko iyyuu si biratti hin argamin; daangaa kee hunda keessattis
raacitiin hin argamin. 8 Gaafas, 'Ani waan WAAQAYYO yeroo ani Gibxi keessaa ba'etti
naa godhe sanaaf jedhee waan kana godha' jedhiitii ilma keetti himi. 9 Sirni kunis
akka seerri WAAQAYYOO arraba kee irra jiraatuuf harka kee irratti akka mallattoo,
adda kee irratti immoo akka yaadannoo siif ta'a. WAAQAYYO harka isaa jabaa sanaan
Gibxii si baaseetii. 10 Atis sirna kana wagguma waggaan yeroo isaatti eeguu qabda.
11 "Yommuu WAAQAYYO akkuma si'ii fi abbootii keetiif kakuudhaan waadaa
gale sanatti biyya Kana'aanotaatti si galchee biyyattii siif kennutti, 12 ati hangafa
gadameessa banu hunda WAAQAYYOOF kennita. Kormi horii keetii hangafni hundin-
uus kan WAAQAYYOO ti. 13 Harree hangafa kam iyyuu ilmoo hoolaatiin furi; yoo furuu
baatte garuu morma isaa cabsi. Ilmaan kee keessaas hangafa kam iyyuu furi.
14 "Bara dhufuuf jiru keessa yoo ilmi kee, 'Kun maal jechuu dha?' jedhee si gaafate
ati akkana jedhiin; 'WAAQAYYO harka jabaadhaan Gibxii, mana garbummaa keessaa
nu baase. 15 Yommuu Fara'oon mataa jabaatee gad nu dhiisuu didetti, WAAQAYYO
hangafa Gibxi hunda namaa fi horii ajjeese. Sababiin ani korma hangafa gadameessa
banu hunda WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessuu fi sababiin ani ilmaan koo keessaa
hangafa hunda furuuf kanuma.' 16 WAAQAYYO irree jabaadhaan Gibxii nu baasuu
isaatiif wanni kun harka kee irratti mallattoo, adda kee irrattis mallattoo ta'a."

*Galaana Ce'uu*

17 Yeroo Fara'oon saba sana gad dhiisetti karichi gabaabaa ta'u iyyuu Waaqni
karaa biyya Filisxeem irra isaan hin qajeelchine; sababiin isaas Waaqni, "Isaan yoo
waraanni isaan mudate yaada geeddarratanii Gibxitti deebi'uu danda'an" jedhee ti.

18 Kanaafuu Waaqni karaa naannoo gammoojjiitiin gara Galaana Diimaatti saba sana
qajeelche. Israa’eloonnis waraanaaf qophaa’anii biyya Gibxiitii ba’an.
19 Sababii Yoosef, “Waaqni dhugumaan isin gargaara; isinis gaafas lafee koo asii
fuudhaa ba’aa” jedhee Israa’eloonni kakachiisee tureef Museen lafee Yoosef fuudhee
ba’e.
20 Isaanis Sukootii ka’anii Eetaam keessa qarqara gammoojjii qubatan. 21 Waaqayyo
akka isaan halkanii guyyaa deemuu danda’aniif guyyaa utubaa duumessaatiin isaan
dura deemee karaa isaan argisiise; halkan immoo isaaniif ibsuuf jedhee utubaa
ibiddaatiin isaan dura deemaa ture. 22 Utubaan duumessaa guyyaa guyyaa, utubaan
ibiddaa immoo halkan halkan uummata duraa hin dhabamne ture.

# 14

1 Ergasii Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akka isaan of irra garagalanii Phii
Hahiiroti bira, Migdoolii fi galaana gidduu qubatan Israa’elootatti himi. Isaan fuullee
Ba’aal Zefoon, galaana cina qubachuu qabu. 3 Fara’oonis, ‘Israa’eloonni burjaaja’anii
biyya keessa jooraa jiru; gammoojjiin isaan marseera’ jedhee yaade. 4 Anis garaa
Fara’oon nan jabeessa; inni faana dha’ee isaan duukaa bu’a. Anis karaa Fara’ooniitii
fi karaa loltoota isaa hundaatiin ofii kootiif ulfina nan argadha; warri Gibxi akka ani
Waaqayyo ta’e ni beeku.” Israa’eloonnis akkasuma godhan.
5 Mootiin Gibxi akka sabni sun baqatee ba’e yommuu itti himametti Fara’oonii
fi qondaaltonni isaa yaada waa’ee saba sanaa qaban geeddarratanii, “Akka sabni
Israa’el nu tajaajiluu dhiisee deemuuf gad dhiisuun keenya maal gochuu keenya?”
jedhan. 6 Innis gaarii isaa qopheeffatee, loltoota isaas fudhatee ka’e. 7 Gaariiwwan
filatamoo dhibba ja’a, gaariiwwan Gibxi biraa hunda kanneen ajajjuuwwan isaan
hunda irra jiran fudhatee ka’e. 8 Waaqayyos Fara’oon mooticha Gibxi mata jabeessa
godhe; Fara’oonis Israa’eloota warra sodaa malee ba’aa turan sana duukaa bu’ee
ari’e. 9 Warri Gibxis fardeenii fi gaariiwwan Fara’oon hundi, abbootiin fardaatii fi
loltoonni lafoon Israa’eloota duukaa bu’anii isaanii Phii Hahiiroti bira fuullee Ba’aal
Zefoon qarqara galaanaa qubatanii jiran qaqqaban.
10 Yeroo Fara’oon itti dhi’aatettis Israa’eloonni ol ilaalanii kunoo warri Gibxi
dugda duubaan isaan faana dhufan argan. Isaanis sodaatanii Waaqayyotti iyyatan.
11 Isaanis Museedhaan akkana jedhan; “Ati waan iddoon awwaalaa Gibxi hin jirreef
akka nu gammoojjii keessatti dhumnuuf as nu fiddee? Ati Gibxi nu baasuun kee maal
nu gochuu kee ti? 12 Nu Gibxi keessatti, ‘Akka warra Gibxi tajaajilluuf nu dhiisi’ siin
hin jennee? Gammoojjii keessatti dhumuu irra warra Gibxi tajaajiluu nuu wayya
ture!”
13 Museen akkana jedhee saba sanaaf deebise; “Hin sodaatinaa; jabaadhaa
dhaabadhaa! Fayyisuu Waaqayyoo kan inni har’a isinii godhu ilaalaa! Warra Gibxi
kan har’a argitan kana lammata deebitanii hin argitan. 14 Waaqayyo isiniif lola; isin
gab jedhaa.”
15 Waaqayyos Museedhaan akkana jedhe; “Ati maaliif natti iyyita? Akka isaan
adeemsa isaanii itti fufaniif Israa’elootatti himi. 16 Ulee kee ol fuudhiitii harka kee
galaana irra diriirfadhu; akka Israa’eloonni lafa gogaa irra galaana gidduu darbaniif
bishaan gargari qoodi. 17 Ani immoo akka isaan dugda isaanii duubaan seenaniif
garaa warra Gibxi nan jabeessa. Anis Fara’oonii fi loltoota isaa hunda irratti,
gaariiwwan isaatii fi abbootii fardaa isaa irratti ulfina nan argadha. 18 Yeroo ani
Fara’oon irratti, gaariiwwan isaatii fi abbootii fardaa isaa irratti ulfina argadhutti
warri Gibxi akka ani Waaqayyo ta’e ni beeku.”
19 Yommus ergamaan Waaqayyoo kan saba Israa’el dura deemaa ture sun ka’ee
gara dugda isaanii duubaatti darbe. Utubaan duumessaa sunis fuula isaanii duraa
ka’ee isaan duuba dhaabate; 20 utubaan sunis loltoota Gibxii fi loltoota Israa’el gidduu

seene. Duumessi sun halkan sana gama tokkotti dukkana, gama kaanitti immoo ifa
fide; kanaafuu halkan sana guutuu garee lamaan keessaa tokko illee garee kaanitti
hin dhi'aanne.
21 Museenis harka isaa galaana irra diriirfate; WAAQAYYOS halkan sana guutuu
bubbee ba'a biiftuu jabaadhaan galaanicha gara duubaatti deebisee galaanicha lafa
gogaa godhe. Bishaan sunis gargari qoodame; 22 Israa'eloonnis galaanicha gidduu
lafa gogaa irra darban; bishaanichis karaa mirgaa isaaniitii fi karaa bitaa isaanii
keenyan ta'eef.
23 Warri Gibxi isaan duukaa bu'anii fardeen Fara'oon, gaariiwwan isaatii fi
abbootiin fardaa isaa galaana seenan. 24 Yommuu lafti bari'etti WAAQAYYO utubaa
ibiddaatii fi duumessaa keessaa loltoota Gibxi sana gad ilaalee gara itti goran isaan
wallaalchise. 25 Akka isaan rakkinaan oofaniifis gommaa gaariiwwan isaanii irraa
baase. Warri Gibxis, "Waan WAAQAYYO gama Israa'elootaa dhaabatee warra Gibxi
lolaa jiruuf kottaa isaan duraa baqannaa" jedhan.
26 WAAQAYYOS Museedhaan, "Akka bishaanonni warra Gibxi irra, gaariiwwanii fi
abbootii fardaa isaanii irra garagalaniif harka kee galaana irratti diriirsi" jedhe.
27 Museenis harka isaa galaanicha irratti diriirse; yeroo lafti bari'ettis galaanni sun
iddoo isaatti deebi'e. Warri Gibxis bishaan sana jalaa baqatan; WAAQAYYOS haxaa'ee
galaanatti isaan naqe. 28 Bishaan sun iddoo isaatti deebi'ee gaariiwwanii fi abbootii
fardaa jechuunis loltoota Fara'oon kanneen Israa'eloota duukaa bu'anii galaana
seenan sana hunda liqimse. Isaan keessaas namni tokko iyyuu hin hafne.
29 Israa'eloonni garuu bishaanichi karaa mirga isaaniitii fi karaa bitaa isaaniitiin
keenyan ta'eefii galaanicha keessa lafa gogaa irra darban. 30 Gaafas WAAQAYYO harka
warra Gibxi jalaa Israa'eloota baase; warri Israa'elis reeffa warra Gibxi qarqara
galaanaatti argan. 31 Israa'eloonnis yommuu humna guddaa kan WAAQAYYO warra
Gibxi irratti mul'ise sana arganitti, WAAQAYYOON sodaatan; isaanis WAAQAYYOO fi
tajaajilaa isaa Musee amanan.

# 15

### *Faarfannaa Museetii fi Maariyaam*

1 Yommus Musee fi Israa'eloonni Faarfannaa kana WAAQAYYOOF faarfatan:
"Ani WAAQAYYOOF nan faarfadha;
inni ol ol jedheeraatii.
Inni fardaa fi namicha farda yaabbate
galaanatti gad darbateera.

2 "WAAQAYYO jabina kootii fi faarfannaa koo ti;
inni fayyina koo ta'eera.
Inni Waaqa koo ti; anis isa nan jajadha;
inni Waaqa abbaa kootii ti; anis isa ol ol nan qaba.
3 WAAQAYYO goota waraanaa ti;
maqaan isaa WAAQAYYO.
4 Inni gaariiwwan Fara'oonii fi loltoota isaa
galaanatti gad darbateera.
Qondaaltota Fara'oon keessaa filatamtoonni,
Galaana Diimaa keessa dhidhimaniiru.
5 Tuujubni isaan irra gara gale;
isaanis akkuma dhagaa tuujubatti gad dhidhiman.
6 Yaa WAAQAYYO,
harki kee mirgaa humnaan ulfina qabeessa.

Yaa WAAQAYYO,
harki kee mirgaa diina ni hurreessa.

7 “Ati guddina ulfina keetiitiin
warra siin morman gad darbatte.
Aarii kee boba’aa ni ergite;
innis akkuma habaqiitti gubee isaan fixe.
8 Hafuura funyaan keetiitiin
bishaanonni tuulaman.
Bishaan yaa’u akkuma keenyaniitti ol dhaabate;
tuujuboonnis walakkaa galaanaatti ititan.
9 Diinni, ‘Ani faana bu’ee isaan qaqqaba.
Boojuu nan qoodadha;
ani isaan irratti fedhii koo nan guutadha.
Goraadee koo nan luqqifadha;
harki koo isaan barbadeessa’ jedhee nan dhaadate.
10 Ati garuu bubbee kee itti bubbifte;
galaanni immoo isaan irra gara gale.
Isaanis akkuma sibiilaa
bishaanota jajjaboodhaan liqimfaman.
11 Yaa WAAQAYYO,
waaqota keessaa eenyutu si fakkaata?
Qulqullinaan simboo qabeessi,
ulfinaan sodaachisaan,
hojii dinqii hojjechuuttis
kan akka keetii eenyu?

12 “Ati harka kee mirgaa diriirfannaan,
lafti isaan liqimsite.
13 Ati saba furte sana,
jaalala kee hin geeddaramneen geggeessita.
Jabina keetiinis
gara iddoo jireenya keetii qulqulluutti isaan qajeelchita.
14 Saboonni dhaga’anii hollatu;
muddamsuunis saba Filisxeem qabate.
15 Hangafoonni Edoom ni rifatu;
bulchitoota Mo’aabis naasuutu qabata;
warri Kana’aanis bishaanuma ta’u;
16 sodaa fi abdii kutachuun isaan irra bu’a.
Yaa WAAQAYYO, hamma sabni kee darbutti,
hamma sabni ati bitatte sun darbutti
jabina harka keetiitiin
isaan akkuma dhagaa cal’isu.
17 Yaa WAAQAYYO, ati gara tulluu dhaala keetiitti,
gara lafa iddoo jireenya keetii godhachuuf tolfatteetti,
yaa Gooftaa ati gara iddoo qulqulluu harki kee hundeesseetti
ol galchitee isaan dhaabda.

18 “WAAQAYYO,
bara baraa hamma bara baraatti mo’a.”

19 Yommuu fardeen, gaariiwwanii fi abbootiin fardaa kan Fara'oon galaana
seenanitti WAAQAYYO bishaanota isaan irra garagalche; Israa'eloonni garuu lafa gogaa
irra deemanii galaana keessa darban. 20 Miiriyaam obboleettiin Aroon raajittiin sun
dibbee harkatti qabattee kaate; dubartoonni hundinuus dibbee isaanii fudhatanii
sirbaa ishee faana bu'an. 21 Miiriyaamis akkana jettee isaaniif faarfatte:

"WAAQAYYO faarfadhaa;
inni ulfinaan mo'ateeraatii.
Inni fardaa fi namicha farda yaabbate
galaanatti gad darbateera."

### *Bishaan Maaraatii fi Bishaan Eelim*

22 Museenis saba Israa'el Galaana Diimaa biraa fuudhee qajeelche; isaanis
Gammoojjii Shuuri seenan. Israa'eloonnis utuu bishaan hin argatin guyyaa sadii
gammoojjii keessa deeman. 23 Isaanis yommuu Maaraa ga'anitti bishaan isaa
dhuguu hin dandeenye; bishaan sun hadhaa'aa tureetii. Wanni iddoon sun Maaraa
jedhameefis kanuma. 24 Jarri sunis, "Nu maal haa dhugnuu?" jedhanii Museetti
guunguman.
25 Yommus Museen WAAQAYYOTTI iyyinaan, WAAQAYYO muka tokko isa argisiise.
Innis muka sana bishaanitti gad darbate; bishaan sunis ni mi'aawe.

WAAQAYYOS iddoo sanatti sirnaa fi seera isaaniif baase; achittis isaan qore. 26 Innis
akkana jedhe; "Ati yoo sagalee WAAQAYYO Waaqa keetii garaa tokkoon dhageesse, yoo
waan fuula isaa duratti qajeelaa ta'e hojjette, yoo ajaja isaa qalbeeffattee fi yoo seera
isaa hunda eegde, ani dhukkuba warra Gibxitti fide sana keessaa tokko iyyuu sitti
hin fidu; ani WAAQAYYO si fayyisuudhaatii."
27 Isaanis gara Eelim iddoo burqaan kudha lamaa fi mukkeen meexxii torbaatamni
turan dhufanii achi bishaan bira qubatan.

# 16

### *Mannaa fi Dimbiriqqee*

1 Waldaan Israa'el hundi biyya Gibxiitii ba'anii ji'a lammafaatti, ji'a sana keessaas
guyyaa kudha shanaffaatti Eeliimii ka'anii gara gammoojjii Siin isa Eelimii fi Siinaa
gidduu jiru sanaa dhaqan. 2 Gammoojjii keessattis hawaasni sun guutuun Musee fi
Aroonitti guunguman. 3 Israa'eloonnis akkana isaaniin jedhan; "Nu biyya Gibxitti
yeroo okkotee foonii bira teenyee hamma quufnutti buddeena nyaachaa turre sana
harka WAAQAYYOOTTI utuu duuneerra ta'ee! Isin garuu akka waldaan kun guutuun
beela'ee dhumu gochuuf achii nu baaftanii gammoojjii kanatti nu fiddaniirtu."

4 WAAQAYYO immoo Museedhaan akkana jedhe; "Kunoo, ani samii irraa buddeena
gad isinii nan roobsa. Sabni sunis guyyuma guyyaan gad ba'ee waan guyyaa tokkoof
isa ga'u walitti haa qabatu. Anis karaa kanaan isaan qoree seera koo eeguu fi eeguu
baachuu isaanii nan ilaala. 5 Isaanis guyyaa ja'affaatti waan walitti qabatan sana haa
qopheeffatan; wanni kunis waan isaan guyyaa biraa walitti qabatanitti harka lama
haa ta'u."
6 Musee fi Aroon Israa'eloota hundaan akkana jedhan; "Kan biyya Gibxiitii
isin baase WAAQAYYO akka ta'e galgala kana ni beektu. 7 Ganama immoo ulfina
WAAQAYYOO argitu; inni akka isin isatti guungumtan dhaga'eeraatii. Nu eenyu
taanaan isin nutti guungumtu?" 8 Museenis akkana jedhe; "Yeroo inni akka isin
nyaattaniif galgala foon, ganama immoo buddeena isin barbaaddan hunda isinii
kennutti isin akka inni WAAQAYYO ta'e ni beektu; inni guungummii isin isatti
guungumtan dhaga'eeraatii. Nu eenyuu dha? Isin WAAQAYYOTTI guungumaa jirtu
malee nutti hin guungumne."

9 Yommus Museen, "Waldaa Israa'el hundaan, 'Sababii inni akka isin guungumtan
dhaga'eef isin fuula WAAQAYYOO duratti dhi'aadhaa' jedhi" jedhee Aroonitti hime.

10 Yeroo Aroon guutummaa waldaa saba Israa'elitti dubbachaa turetti isaan gara
gammoojjii ilaalaa turan; kunoo, ulfinni WAAQAYYOO duumessa keessaan mul'ate.

11 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; 12 "Ani guungummii saba Israa'el
dhaga'eera. Ati immoo, 'Isin yeroo lafti dimimmisooftutti foon nyaattu; ganama
immoo buddeena nyaattanii quuftu. Isinis yeroo sana akka ani WAAQAYYO Waaqa
keessan ta'e ni beektu' jedhii isaanitti himi."

13 Galgaluma sana dimbiriqqeen dhuftee iddoo qubannaa sana guutte; guyyaa itti
aanu ganama immoo fixeensi naannoo qubannaa sanaa ture. 14 Yommuu fixeensi
bu'ettis, kunoo wantoonni haphiin akka qorraa lafa irraa addaatan dirree gammoojjii
irra bubbu'an. 15 Israa'eloonnis yommuu waan kana arganitti, "Wanni kun maali?"
waliin jedhan. Isaan wanni sun maal akka ta'e hin beekne tureetii.

Museenis akkana isaaniin jedhe; "Wanni kun buddeena akka isin nyaattaniif
WAAQAYYO isiniif kennee dha. 16 WAAQAYYO akkana jedhee ajajeera: 'Tokkoon tokkoon
namaa hamma barbaadu walitti haa qabatu. Akkuma baay'ina nama dunkaana
keessan keessaatti tokkoo tokkoo namaatiif gomoorii tokko fudhadhaa.' "

17 Israa'eloonni akkuma isaanitti himame godhan; garri tokko baay'ee, warri kaan
immoo xinnoo walitti qabatan. 18 Yommuu isaan gomooriidhaan safaranitti isa
baay'ee walitti qabate irraa hin hafne; isa xinnoo walitti qabatettis hin hir'anne.
Tokkoon tokkoon namaa hammuma barbaadu walitti qabate.

19 Museenis, "Namni tokko iyyuu waan walitti qabate keessaa tokko illee ganamaaf
hin bulfatin" jedheen.

20 Ta'us isaan keessaa namoonni tokko tokko Musee hin dhageenye; waan walitti
qabatan keessaas gartokko ganamaaf bulfatan; innis raamma'ee ajaa'e. Kanaafuu
Museen isaanitti aare.
21 Tokkoon tokkoon namaa ganama ganama hammuma barbaadu walitti qabate;
innis yommuu aduun ho'itetti baqee bade. 22 Guyyaa ja'affaatti jarri harka lama
jechuunis mata mataatti gomoorii lama walitti qabatan; hooggantoonni waldichaa
hundis dhaqanii Museetti himan. 23 Innis akkana jedheen; "WAAQAYYO akkana jedhee
ajaje: 'Bor guyyaa sanbata boqonnaa ta'a; innis sanbata WAAQAYYOOF qulqullaa'ee
dha. Waan tolfachuu barbaaddan tolfadhaa; waan affeelachuu barbaaddanis
affeeladhaa. Waan irraa hafu hunda immoo hamma ganamaatti turfadhaa.' "

24 Jarris akkuma Museen isaan ajajetti hamma ganamaatti turfatan; nyaanni sunis
hin ajoofne yookaan hin raammofne. 25 Museenis akkana jedhe; "Waan guyyaan
har'aa sanbata WAAQAYYOO ta'eef nyaata kana har'a nyaadhaa; isin har'a dirree
irratti isa hin argattan. 26 Isinis nyaata sana guyyaa ja'a walitti qabadhaa; guyyaa
torbaffaatti jechuunis guyyaa Sanbataatiin garuu tokko iyyuu hin argamu."

27 Jara sana keessaa namoonni tokko tokko immoo guyyaa torbaffaatti walitti
qabachuuf gad ba'an; garuu homaa hin arganne. 28 Kana irratti WAAQAYYO
Museedhaan akkana jedhe; "Isin hamma yoomiitti ajaja koo fi qajeelfama koo eeguu
diddu? 29 WAAQAYYO Sanbata akka isinii kenne hubadhaa. Sababiin inni guyyaa
ja'affaatti buddeena guyyaa lamaaf ta'u isinii kennuufis kanuma. Namni hundinuu
guyyaa torbaffaatti idduma jiru haa turu. Namni tokko iyyuu gad hin ba'in." 30 Sabni
sunis guyyaa torbaffaatti ni boqote.

31 Sabni Israa'el buddeena sana "mannaa" jedhee moggaase. Mannaan kunis
sanyii dinbilaalaa fakkaata; adiidhas; mi'aan isaas akka bixxillee dammaan tolfamee
ti. 32 Museen akkana jedhe; "WAAQAYYO akkana jedhee ajaje: 'Akka inni dhaloota
dhufuuf turfamuuf Mannaa gomoorii tokko fuudhaa; kunis akka isaan buddeena ani

yeroo biyya Gibxi keessaa isin baasetti akka isin gammoojjii keessatti nyaattaniif isinii
kenne sana arganiif.' "
33 Museen Arooniin, "Okkotee tokko fuudhiitii mannaa gomoorii tokko itti naqi;
akka mannaan kun dhaloota dhufuuf turfamuuf fuula WAAQAYYOO dura kaa'i" jedhe.
34 Aroonis akkuma WAAQAYYO Musee ajaje sanatti akka mannaan sun turfamuuf
fuula Dhugaa Ba'uu dura kaa'e. 35 Sabni Israa'el hamma biyya keessa qubatamu sana
ga'anitti waggaa afurtama mannaa nyaatan; isaanis hamma daarii biyya Kana'aan
ga'anitti mannaa nyaatan.
36 Gomooriin tokko harka kurnaffaa iifii tokkoo ti.

# 17

*Bishaan Kattaa Keessaa Burqe*

1 Waldaan ijoollee Israa'el hundi akkuma WAAQAYYO ajajetti Gammoojjii Siiniitii
ka'anii iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti darbaa dhaqanii Refiidiim qubatan.
Garuu sabni sun bishaan dhugaatii hin arganne. 2 Kanaafuu isaan, "Bishaan dhugnu
nuu kenni" jedhanii Musee lolan.
Museen immoo deebisee, "Isin maaliif na loltu? WAAQAYYOS maaliif qortu?"
jedheen.
3 Jarris bishaan dheebotanii Museetti guunguman; akkanas jedhan; "Ati maaliif
akka nu, ijoolleen keenyaa fi horiin keenya dheebuun dhumnuuf biyya Gibxiitii nu
baafte?"
4 Kana irratti Museen gara WAAQAYYOOTTI iyyee, "Ani saba kana maal godha? Isaan
dhagaan na tumuuf xinnumatu hafe" jedhe.
5 WAAQAYYO immoo akkana jedhee Museef deebii kenne; "Saba kana dura darbii
deemi. Maanguddoota Israa'el keessaa tokko tokko of faana fudhadhuutii ulee
ittiin laga Abbayyaa dhoofte sana harkatti qabadhuu deemi. 6 Kunoo ani kattaa
Kooreeb sana bira fuula kee dura achi nan dhaabadha; akka namoonni bishaan
dhuganiif ati kattaa sana dha'i; bishaanis isa keessaa ni ba'a." Kanaafuu Museen
fuula maanguddoota Israa'el duratti akkasuma godhe. 7 Sababii Israa'eloonni lola
kaasanii fi sababii isaan, "WAAQAYYO nu wajjin jira moo hin jiru?" jechuudhaan
WAAQAYYOON qoraniif Museen iddoo sana Maasaahii fi Mariibaa jedhee moggaase.

*Amaaleqoonni Mo'ataman*

8 Amaaleqoonni dhufanii Refiidiimitti Israa'eloota lolan. 9 Museenis Iyyaasuud-
haan, "Namoota keenya keessaa muraasa filadhuutii dhaqii Amaaleqoota loli. Ani
bor ulee Waaqaa harka kootti qabadhee fiixee gaara irra nan dhaabadha" jedhe.
10 Yeroo Museen, Aroonii fi Huuri fiixee gaaratti ol ba'anitti, Iyyaasuun akkuma
Museen ajajetti Amaaleqoota lola ture. 11 Yeroo Museen harka isaa ol qabatutti
Israa'eloonni ni mo'atu turan; yeroo inni harka isaa gad buufatu immoo Amaale-
qoonni ni mo'atu turan. 12 Isaanis yeroo harki Musee dadhabaa deemetti dhagaa
tokko fuudhanii isa jala kaa'an; innis irra taa'e. Aroonii fi Huuri inni tokko garanaan
inni kaan immoo garasiin goranii akka harki isaa hamma aduun dhiitutti gad hin
deebineef ol qabaniif. 13 Akkasiin Iyyaasuun loltoota Amaaleqootaa goraadeedhaan
mo'ate.
14 Ergasii WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Akka wanni kun yaadatamuuf ki-
taabatti barreessi; Iyyaasuun waan kana dhaga'uu isaa mirkaneessi; ani guutumaan
guutuutti yaadannoo Amaaleqootaa samii jalaa nan balleessaatii."
15 Museenis iddoo aarsaa ijaaree, "WAAQAYYO Faajjii koo ti" jedhee moggaase.
16 Innis, "Harki gara teessoo WAAQAYYOOTTI ol kaafameera. WAAQAYYOS dhaloota
tokkoo gara dhaloota kaaniitti Amaaleqoota ni lola" jedhe.

# 18

### *Yootoor Gara Musee Dhufe*

1 Yetroo lubichi Midiyaaniitii fi abbaan niitii Musee sun waan Waaqni Musee fi saba
isaa Israa’eliif godhe hunda, akkasumas akka WAAQAYYO itti Israa’elin Gibxii baase
dhaga’e.
2 Erga Museen niitii isaa Ziphooraa ergee booddee Yetroo abbaan niitii Musee, ishee
fi 3 ilmaan ishee lamaan simate. Maqaan ilma isaa tokkoo Geershoom jedhame;
Museen, “Ani biyya ormaa keessatti alagaa ta’eera” jedheeraatii. 4 Kaan immoo,
“Waaqni abbaa kootii gargaaraa kooti; inni goraadee Fara’oon jalaa na baaseera”
jechuudhaan Elii’ezer jedhee moggaase.
5 Yetroon abbaan niitii Musees niitii Museetii fi ilmaan Musee wajjin gammoojjii
keessatti gara tulluu Waaqaa iddoo Museen qubatee jirutti isa bira dhufe. 6 Yetroonis,
“Ani abbaan niitii keetii Yootoor niitii keetii fi ilmaan ishee lamaan wajjin gara kee
dhufaa jira” jedhee dhaamsa itti ergee ture.
7 Museenis abbaa niitii isaa simachuuf gad ba’e; gad jedhees harka fuudhee isa
dhungate. Isaanis nagaa wal gaafatanii dunkaana seenan. 8 Museen waan WAAQAYYO
sababii saba Israa’eliif jedhee Fara’oonii fi warra Gibxi irratti hojjete, rakkina karaa
irratti isaan mudate hundaa fi akka itti WAAQAYYO isaan oolche abbaa niitii isaatti
hime.
9 Yetroonis waan gaarii WAAQAYYO harka warra Gibxi keessaa isaan baasuudhaan
saba Israa’eliif godhe hundaaf ni gammade. 10 Innis akkana jedhe; “WAAQAYYO harka
warra Gibxii fi harka Fara’oon keessaa isin baasee fi inni saba sana harka warra
Gibxiitii baase sun haa eebbifamu. 11 Ani amma akka WAAQAYYO waaqota kaan hunda
caalaa guddaa ta’e nan beeka; inni warra of tuulummaadhaan Israa’elin rakkisan
irratti waan kana raawwateeraatii.” 12 Yommus Yetroon abbaan niitii Musee sun
aarsaa gubamuu fi aarsaa biraa Waaqaaf fide; Aroonis fuula Waaqaa duratti Musee fi
abbaa niitii Musee wajjin buddeena nyaachuuf maanguddoota Israa’el hunda wajjin
dhufe.
13 Guyyaa itti aanutti Museen sabaaf murtii kennuuf taa’e; sabni sunis ganamaa
hamma galgalaatti naannoo isaa dhaabate. 14 Abbaan niitii isaas yommuu waan
Museen sabaaf hojjetu hunda argetti, “Wanni ati sabaaf hojjettu kun maali? Ati
maaliif kophaa kee teessee sabni kun immoo ganamaa hamma galgalaatti naannoo
kee dhadhaabata?” jedhe.
15 Museen immoo akkana jedhee deebiseef; “Sabni kun fedhii Waaqaa barbaacha
gara koo dhufaatii. 16 Isaan yommuu falmii qabaatanitti dhimma isaanii natti
dhi’eeffatu; anis abbootii dhimmaa gidduutti murtii nan kenna; sirnaa fi seera
Waaqaas isaanitti nan hima.”
17 Abbaan niitii Musee akkana jedhee deebise; “Wanni ati gootu kun gaarii miti.
18 Atii fi sabni si bira dhufu kun akkasumaan of dadhabsiiftu. Hojiin kunis akka malee
sitti ulfaata; ati kophaa kee hojjechuu hin dandeessu. 19 Ani gorsa siif kennaatii amma
na dhaga’i; Waaqni si wajjin haa ta’u. Ati fuula Waaqaa duratti iddoo bu’aa sabaa
taatee dhimma isaanii Waaqatti fiduu qabda. 20 Sirnaa fi seera isaan barsiisi; akka
isaan itti jiraachuu qabanii fi waan isaan hojjechuu qaban isaanitti argisiisi. 21 Kana
malees ati saba hunda keessaa namoota dandeetii qaban jechuunis, namoota Waaqa
sodaatan, namoota amanamoo kanneen matta’aa jibban filadhuutii ajajjuuwwan
kumaa, ajajjuuwwan dhibbaa, ajajjuuwwan shantamaatii fi ajajjuuwwan kudhanii
godhii muudadhu. 22 Isaan yeroo hunda sabaaf murtii haa kennan; dubbii cimaa
hunda garuu sitti haa fidan; dubbii laayyoo immoo ofumaan haa murteessan. Kun
ba’aa kee siif salphisa; isaan si wajjin ba’aa ni baatuutii. 23 Yoo ati waan kana goote,

yoo Waaqnis waanuma kana si ajaje ati jabaattee dhaabachuu dandeessa; sabni kun hundis nagaadhaan mana ofii isaatti gala."

[24] Museenis abbaa niitii isaa dhaga'ee waan inni jedhe hunda godhe. [25] Innis
Israa'el hunda keessaa namoota dandeettii qaban filatee hooggantoota sabaa, ajajjuuwwan kumaa, ajajjuuwwan dhibbaa, ajajjuuwwan shantamaatii fi ajajjuuwwan
kudhanii isaan godhate. [26] Isaanis abbootii murtii ta'anii yeroo hunda saba sana
tajaajilan; dubbii jabaa Museetti fidan; dubbii laayyoo ta'e hunda immoo ofumaan murteessan.
[27] Ergasiis Museen abbaa niitii isaa geggeesse; Yootooris deebi'ee biyya isaatti gale.

# 19

*Gaara Siinaa Biratti*

[1] Israa'eloonni erga Gibxii ba'anii as ji'a sadaffaa keessa guyyuma itti Gibxii ba'an
sana Gammoojjii Siinaa ga'an. [2] Isaanis erga Refiidiimii ka'anii booddee Gammoojjii
Siinaa seenan; sabni Israa'elis Gammoojjii sana keessa fuullee tulluu sanaa qubatan.

[3] Museenis gara Waaqaatti ol ba'e; WAAQAYYOS tulluu irraa isa waamee akkana
jedheen; "Ati mana Yaaqoobiin akkana jetta; saba Israa'elittis waan kana himi:
[4] 'Waan ani warra Gibxi godhee fi akka ani itti qoochoo risaa irratti isin baadhee
gara kootti isin fide isin mataan keessan iyyuu argitaniirtu. [5] Ammas isin yoo naaf
ajajamtan, yoo kakuu koo eegdan isin saboota hunda keessaa qabeenya addaa naaf
taatu. Yoo lafti hundinuu kan koo ta'e illee, [6] isin mootummaa lubootaatii fi saba
qulqulluu naaf taatu.' Dubbiin ati saba Israa'elitti himuu qabdus kanuma."

[7] Museen deebi'ee maanguddoota sabaa walitti waamee, dubbii akka inni dubbatuuf WAAQAYYO isa ajaje sana hunda fuula isaanii duratti dhi'eesse. [8] Jarri
hundinuus afaan tokkoon, "Nu waan WAAQAYYO jedhe hundumaa ni goona" jedhanii
deebisan; Museen immoo waan jarri jedhan deebisee WAAQAYYOTTI fide.

[9] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Akka sabni kun anaa si wajjin dubbatu
dhaga'ee yeroo hunda si amanatuuf kunoo ani duumessa yabbuu keessaan gara kee
nan dhufa." Ergasiis Museen waan sabni sun jedhe WAAQAYYOTTI hime.

[10] WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; "Gara sabaa dhaqiitii har'aa fi bori isaan
qulqulleessi. Akka isaan wayyaa isaanii miiccatanii [11] guyyaa sadaffaaf qophaa'an
godhi; gaafa sana utuma sabni hundi ilaaluu WAAQAYYO Tulluu Siinaa irratti gad
ni bu'aatii. [12] Naannoo tullichaatti saba sanaaf daangaa tolchiitii akkana jedhiin;
'Isin akka tulluu sanatti ol hin baane yookaan akka qarqara isaa illee hin tuqne of
eeggadhaa. Namni tulluu sana tuqu kam iyyuu haa ajjeefamu. [13] Inni dhagaadhaan
haa tumamu yookaan xiyyaan haa waraanamu; harki tokko iyyuu isa hin tuqin;
horiis ta'u namni akka jiraatu hin eeyyamamuuf.' Isaan yeroo malakanni utuu gargar
hin citin afuufamu qofa tulluutti ol ba'uu danda'u."

[14] Museen tulluu irraa gara sabaatti gad bu'ee saba sana qulqulleesse; isaanis uffata
isaanii miiccatan. [15] Innis saba sanaan, "Guyyaa sadaffaaf of qopheessaa; dubartii
biras hin ga'inaa" jedhe.

[16] Ganama guyyaa sadaffaa sana tulluu sana irra bakakkaa, balaqqeessaa fi
duumessa yabbuu, akkasumas sagalee malakataa guddaatu dhaga'ame. Warri iddoo
qubataa sana keessa jiraatan hundis ni hollatan. [17] Museenis saba sana iddoo
qubannaatii baasee gara Waaqaatti fide; jarris miilla tulluu sanaa jala dhadhaabatan.
[18] Tulluun Siinaa hundis sababii WAAQAYYO ibiddaan irratti gad bu'eef aaraan
haguugame. Aarri sunis akkuma aara boolla ibiddaatii ba'uutti ol ba'e; tulluun sunis
guutumaan guutuutti akka malee raafame; [19] sagaleen malakataa ittuma guddachaa
deeme. Museenis ni dubbate; sagaleen Waaqaas deebii kenneef.

20 WAAQAYYO fiixee Tulluu Siinaa irratti gad bu'ee Musee gara fiixee tulluu sanaatti
ol waame. Museenis ol ba'e; 21 WAAQAYYO immoo akkana isaan jedhe; "Akka
isaan WAAQAYYO ilaaluuf jedhanii daarii hin dabarree fi akka isaan keessaas namni
baay'een hin duuneef gad bu'iitii isaan akeekkachiisi. 22 Akka WAAQAYYO isaan hin
balleessineef luboonni WAAQAYYOTTI dhi'aatan iyyuu of haa qulqulleessan."

23 Museen immoo WAAQAYYOON, "Sababii ati mataan kee, 'Naannoo Tullichaatti
daangaa dhaabiitii isa qulqulleessiitii addaan baasi' jettee akeekkachiisa nuu
kenniteef sabni kun Tulluu Siinaatti ol ba'uu hin danda'u" jedhe.

24 WAAQAYYOS, "Gadi bu'iitii Aroonin fidii kottu. Garuu luboonnii fi uummanni gara
WAAQAYYOOTTI ol dhufuuf jedhanii daangaa hin darbin; yoo kanaa achii inni isaan
balleessa" jedhee deebise.

25 Museenis gad bu'ee waan kana uummatatti hime.

# 20

*Ajajawwan Kurnan*
*20:1-17 kwf – KeD 5:6-21*

1 Waaqni akkana jedhee dubbii kana hunda dubbate:

2 "Ani WAAQAYYO Waaqa kee kan Gibxii, biyya garbummaatii si baasee dha.

3 "Ati ana malee waaqota biraa tokko illee hin qabaatin.
4 Ati bifa waan ol samii gubbaa yookaan gad lafa irra yookaan bishaan lafa jalaa
keessa jiru kamiitiin iyyuu Waaqa tolfamaa ofii keetiif hin tolfatin. 5 Isaaniif
hin sagadin yookaan isaan hin waaqeffatin; ani WAAQAYYO Waaqni kee Waaqa
hinaafu kan sababii cubbuu abbootiitiif jedhee ijoollee warra na jibbanii hamma
dhaloota sadii fi afuriitti adabee 6 warra na jaallatanii ajajawwan koo eegan
immoo hamma dhaloota kumaatti jaallatuu dha.
7 Maqaa WAAQAYYO Waaqa keetii akkasumaan hin dha'in; WAAQAYYO warra akkuma
argan maqaa isaa dha'an utuu hin adabin hin dhiisuutii.
8 Guyyaa Sanbataa qulqulleessuudhaan yaadadhu. 9 Guyyoota ja'a hojjedhu; hojii
kee hundas hojjetadhu; 10 guyyaan torbaffaan garuu sanbata WAAQAYYO Waaqa
keetii ti. Gaafas hojii tokko illee hin hojjetin; ati yookaan ilmi kee yookaan
intalli kee yookaan hojjetaan kee yookaan xomboreen kee yookaan horiin kee
yookaan alagaan magaalaa kee keessa jiraatu tokko iyyuu homaa hin hojjetin.
11 WAAQAYYO guyyaa ja'a keessatti samii fi lafa, galaanaa fi waan isaan keessa
jiru hunda uumee guyyaa torbaffaatti boqoteetii. Kanaafuu WAAQAYYO Sanbata
eebbisee qulqulleesse.
12 Akka biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu keessa bara dheeraa jiraattuuf
abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina kenni.
13 Hin ajjeesin.
14 Hin ejjin.
15 Hin hatin.
16 Ollaa keetti sobaan dhugaa hin ba'in.
17 Mana namaa hin hawwin. Niitii namaa yookaan hojjetaa isaa yookaan xomboree
isaa yookaan qotiyyoo isaa yookaan harree isaa yookaan waan namaa kam iyyuu
hin hawwin."

18 Jarri hundinuus yommuu bakakkaa fi balaqqeessa, sagalee malakataatii fi tulluu
aaru hubatanitti sodaadhaan hollatan. Isaan fagoo dhaabatanii 19 Museedhaan,

"Ati mataan kee nutti dubbadhu; nu ni dhaggeeffannaa. Garuu Waaqni nutti hin
dubbatin. Yoo kanaa achii nu ni dhumnaa" jedhan.
20 Museen immoo saba sanaan, "Hin sodaatinaa. Akka Waaqa sodaachuun isin
wajjin jiraatee cubbuu hojjechuu irraa isin eeguuf jedhee Waaqni isin qoruuf
dhufeera" jedhe.
21 Yeroo Museen dukkana limixii iddoo Waaqni turetti dhi'aatetti, namoonni fagoo
dhaabatan.

### *Waaqota Tolfamoo fi Iddoowwan Aarsaa*

22 Ergasii WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Saba Israa'elitti waan kana himi:
'Akka ani samii irraa isinitti dubbadhe isin mataan keessan argitaniirtu; 23 ana biratti
waaqota kam iyyuu hin tolfatinaa. Waaqota meetii yookaan waaqota warqee hin
tolfatinaa.
24 " 'Biyyoo lafaa irraa iddoo aarsaa naa tolchiitii isa irratti qalma gubamu, aarsaa
nagaa, hoolota kee, re'oota keetii fi loon kee aarsaa dhi'eessi. Ani iddoo akka
maqaan koo itti yaadatamu godhu hundatti gara kee dhufee sin eebbisa. 25 Yoo
dhagaa irraa iddoo aarsaa naa ijaarte immoo dhagaa soofame irraa hin ijaarin;
yoo meeshaadhaan isa tuqxe ni xureessitaatii. 26 Akka qullaan kee isa irratti hin
mul'anneef gulantaadhaan iddoo aarsaa kootti ol hin ba'in.'

## 21

1 "Seerawwan ati isaan dura keessu kanneenii dha:

### *Seera Waa'ee Garbootaa*
*21:2-6 kwf – KeD 15:12-18*
*21:2-11 kwi – Lew 25:39-55*

2 "Ati yoo Ibroota keessaa garbicha bitatte inni waggaa ja'a siif haa hojjetu. Waggaa
torbaffaatti garuu inni kaffaltii malee bilisa haa ba'u. 3 Inni yoo kophaa isaa dhufee
jiraate kophaa isaa bilisoomee haa deemu; yeroo dhufutti inni yoo niitii qabaate
isheenis isa wajjin haa deemtu. 4 Yoo gooftaan isaa niitii isa fuusisee isheenis ilmaan
yookaan intallan deesseefii jiraatte, ishee fi ijoolleen ishee kan gooftaa ishee ta'u;
namichi qofti bilisa ta'ee haa deemu.
5 "Garuu garbichi sun, 'Ani gooftaa koo fi niitii koo, ijoollee koos nan jaalladha;
ani bilisa ba'ee deemuu hin barbaadu' yoo jedhe, 6 gooftaan isaa fuula abbootii
murtii duratti isa haa dhi'eessu; gara balbalaatti yookaan gara michichila balbalaatti
geessees mutaadhaan gurra isaa haa uru. Ergasii inni bara jireenya isaa guutuu isa
tajaajila.
7 "Namni yoo intala isaa akka garbittiitti gurgurate, isheen akka garbichi tokko itti
bilisa ba'utti bilisa hin ba'in. 8 Yoo isheen goofticha ofii isaatiif ishee filate sanatti
toluu baatte inni akka isheen furamtuu haa godhu. Inni waan isheef amanamuu
dhabeef dabarsee ormatti ishee gurguruuf mirga hin qabu. 9 Yoo ilma isaatiif ishee
filate immoo mirga intala ofii isaatiif kennu isheefis haa kennu. 10 Yoo niitii biraa
fuudhe immoo niitii isaa kan jalqabaa sana nyaata, uffataa fi mirga niitiif malu itti
hin hir'isin. 11 Yoo inni wantoota sadan kanneen isheef gochuu dide garuu isheen
kaffaltii maallaqaa tokko malee bilisa ba'uu qabdi.

### *Miidhaa Nama Irraan Ga'uu*

12 "Namni nama rukutee ajjeesu innis haa ajjeefamu. 13 Inni riphee utuu hin
eeggatin Waaqatu harka isaa buuse yoo ta'e garuu iddoo ani ramadutti haa baqatu.
14 Garuu yoo namni tokko ittuma yaadee dabaan nama ajjeese iddoo aarsaa koo biraa
fuudhaatii ajjeesaa.
15 "Namni abbaa isaa yookaan haadha isaa rukutu haa ajjeefamu.

16 “Namni nama hatee yoo gurgurate yookaan namichi hatame sun harka isaatti
yoo argame hattichi haa ajjeefamu.
17 “Namni abbaa isaa yookaan haadha isaa arrabsu haa ajjeefamu.
18 “Yoo namoonni wal lolanii inni tokko isa kaan dhagaadhaan yookaan abootteed-
haan rukutee namichi rukutame sun du’uu baatee garuu siree irratti hafe, 19 ergasii
immoo yoo inni ka’ee ulee isaa dhadhaabachaa asii fi achi ala keessa deddeeme
namichi isa dha’e sun itti hin gaafatamu; sababii yeroo namicha miidhame sanaa
jalaa balleesseef garuu gatii haa baasu; hamma inni guutumaan guutuutti fayyuttis
isa haa wal’aanu.
20 “Yoo namni tokko uleedhaan garbicha isaa yookaan garbittii isaa dha’ee garbichi
sunis harka isaatti du’e namichi haa adabamu; 21 garuu sababii garbichi sun
qabeenya isaa ta’eef yoo garbichi sun bultii tokko yookaan bultii lama booddee ka’e,
namichi hin adabamu.
22 “Yoo namoonni wal lolaa jiran dubartii ulfoofte tokkotti bu’anii ulfii garaadhaa
ba’ee garuu miidhamni hamaan ishee hin qaqqabin, namichi ishee miidhe sun waan
dhirsi dubartittii isa gaafatee fi waan abbootiin murtii murteessan baasuu qaba.
23 Yoo miidhamni hamaan jiraate garuu, qooda lubbuu, lubbuu; 24 qooda ijaa, ija;
qooda ilkaanii, ilkaan; qooda harkaa, harka; qooda miillaa, miilla; 25 qooda gubuu,
gubuu; qooda madaa, madaa; qooda buruqsuu, buruqsuu baafta.
26 “Namni tokko yoo ija garbicha isaa yookaan ija garbittii isaa rukutee jaamse, inni
qooda ija sanaa garba sana bilisa haa baasu. 27 Inni yoo ilkaan garbicha isaa yookaan
ilkaan garbittii isaa rukutee cabse, qooda ilkaan sanaa garba sana bilisa haa baasu.
28 “Qotiyyoon tokko yoo dhiira yookaan dubartii waraanee ajjeese qotiyyoon sun
dhagaadhaan tumamee haa ajjeefamu; foon isaas hin nyaatamin. Garuu abbaan
qotiyyoo sanaa itti hin gaafatamu. 29 Yoo qotiyyoon sun durumaanuu amala nama
waraanuu qabaachuun isaa beekamee abbaan isaas akka isa eeggatu gorfamee garuu
waan inni isa eeggachuu dideef qotiyyoon sun dhiira yookaan dubartii ajjeese,
qotiyyoon sun dhagaadhaan rukutamee haa ajjeefamu; abbaan qotiyyoo sanaas haa
ajjeefamu. 30 Ta’us inni yoo gumaa gaafatame waan gaafatame hunda kaffalee
lubbuu isaa haa oolfatu. 31 Yoo qotiyyoon sun ilma yookaan intala tokko waraane illee
seeruma kanatu hojjeta. 32 Yoo qotiyyoon sun garbicha yookaan garbittii waraane
abbaan qotiyyoo sanaa gooftaa garba sanaatiif meetii saqilii* soddoma haa kaffalu;
qotiyyoon sunis dhagaan rukutamee haa ajjeefamu.
33 “Namni tokko yoo boolla afaan banaa dhiise yookaan yoo boolla qotee utuu hin
duuchin dhiisee sangaan yookaan harreen boolla sana keessa bu’e, 34 abbaan boolla
sanaa abbaa horii sanaatiif maallaqa haa baasu; horiin du’e sun immoo kan isaa haa
ta’u.
35 “Yoo qotiyyoon nama tokkoo qotiyyoo nama biraa miidhee du’aan ga’e jarri
qotiyyoo fayyaa sana haa gurgurani; gatii qotiyyoo sanaatii fi qotiyyoo du’e sana
qixxeetti haa qooddatani. 36 Yoo qotiyyoon sun durumaanuu amala horii waraanuu
qabaachuun isaa beekamee garuu waan abbaan isaa isa eeggachuu dideef abbaan
qotiyyoo sanaa qooda qotiyyoo, qotiyyoo haa baasu; qotiyyoon du’e sun immoo kan
isaa haa ta’u.

## 22

*Eegumsa Qabeenyaaf Godhamu*

1 “Namni tokko yoo sangaa yookaan hoolaa hatee qalate yookaan gurgurate, qooda
qotiyyoo tokkoo sangaa shan, qooda hoolaa tokkoo immoo hoolaa afur haa baasu.

* **21:32** 21:32 Saqiliin tokko giraamii 345.

[2] "Hattuun tokko utuu cabsee seenuu yoo qabamee tumamee kanumaan du'e,
namichi isa ajjeese sun dhiiga isaatti yakkaan hin gaafatamu; [3] garuu yoo wanni
kun erga aduun baatee ta'e, namichi dhiiga sanatti yakkaan ni gaafatama.

"Hattuun waan hate haa deebisu; homaa hin qabu yoo ta'e garuu hanna isaatiif
gatii baasuudhaaf haa gurguramu. [4] Horiin hatame sun sangaa yookaan harree
yookaan hoolaa taanaan yoo utuu lubbuun jiruu harka isaatti argame hattuun sun
dachaa baasuu qaba.

[5] "Namni tokko yoo utuu lafa qotiisaa yookaan dhaabaa wayinii keessa horii
tikfatuu horii isaa gad lakkisee horiin sun dhaqee kaloo nama biraa dheede, inni
lafa qotiisaa ofii isaa irraa yookaan dhaabaa wayinii ofii isaa irraa kan waan hunda
caalu iddoo haa buusuuf.

[6] "Yoo ibiddi ka'ee daggala seenee akkasiin midhaan tuulame yookaan midhaan
dhaabatu yookaan lafa qotiisaa gube, namichi ibidda qabsiise sun gatii baasuu qaba.

[7] "Namni tokko yoo maallaqa yookaan mi'a imaanaa namatti kennatee, wanni sun
mana namichaatii hatamee hattuun sun qabame, hattichi dachaa kaffaluu qaba. [8] Yoo
hattuun sun hin argamin garuu abbaan mana sanaa akka mi'a nama kaanii tuqee fi
akka hin tuqin mirkaneessuuf fuula abbootii murtii duratti haa dhi'eeffamu. [9] Namni
tokko yoo qotiyyoo, harree, hoolaa, uffata yookaan mi'a bade tokko miliqsee namni
tokko dhufee, 'Kun kan koo ti' jedhe, falmiin isaanii fuula abbootii murtii duratti haa
dhi'eeffamu. Namichi abbootiin murtii itti muran sunis ollaa isaatiif harka lama haa
baasu.

[10] "Yoo namni tokko ollaa isaatiif harree, qotiyyoo, hoolaa yookaan horii biraa
imaanaa kennatee horiin suni utuu namni hin argin du'e yookaan miidhame yookaan
hatame, [11] namichi sun akka qabeenya ollaa isaa hin tuqin mirkaneessuuf fuula
WAAQAYYOO duratti haa kakatu; abbaan qabeenyaa sunis kakuu kana fudhachuu
qaba; gatiis hin gaafatu. [12] Yoo horiin sun isa jalaa hatamee jiraate garuu namichi
abbaa horii sanaatiif baasuu qaba. [13] Yoo horii sana bineensatu nyaate ta'e immoo
akka ragaa ta'uuf waan bineensa irraa hafe haa dhi'eessu malee horii nyaatame
sanaaf gatii hin baasin.

[14] "Namni tokko yoo ollaa isaa irraa horii ergifatee horiin sun iddoo abbaan horii
hin jirretti miidhame yookaan du'e, namichi ergifate sun gatii haa baasu. [15] Yoo
abbaan horii sanaa achi jiraate garuu namichi ergifate sun gatii baasuu hin qabu.
Yoo horiin sun kireeffamee jiraate immoo maallaqni baafame sun kiraa horii du'e
sanaa haa ta'u.

### *Itti Gaafatama Hawaasummaa*

[16] "Namni tokko yoo durba hin kaadhimatamin gowwoomsee ishee wajjin ciise, inni
gabbara misirrittiif malu baaseefii ishee haa fuudhu. [17] Yoo abbaan ishee intalattii
namichaaf kennuu dide immoo namichi sun gabbara durbaaf malu baasuu qaba.

[18] "Ati akka dubartiin falfaltuun lubbuun jiraattu hin eeyyamin.

[19] "Namni horii wajjin ciisu kam iyyuu ajjeefamuu qaba.

[20] "Namni WAAQAYYO tokkichaaf malee Waaqa biraatiif aarsaa dhi'eessu galaafata-
muu qaba.

[21] "Isinis waan biyya Gibxii keessatti alagoota turtaniif alagaatti daba hin hojjeti-
naa; hin cunqursinaas.

[22] "Haadha hiyyeessaatii fi ijoollee abbaan irraa du'e hin hacuucinaa. [23] Yoo isin
isaan miitanii isaan immoo natti boo'an ani dhugumaan boo'icha isaanii nan dhaga'a.
[24] Aariin koo ni boba'a; anis goraadeedhaanan isin fixa; niitonni keessan haadhota
hiyyeessaa ta'u; ijoolleen keessanis kanneen abbaa hin qabne ta'u.

[25] "Ati yoo saba koo keessaa hiyyeessa si bira jiraatu tokkoof maallaqa liqeessite,
akka nama hiiqii argachuuf kennuu hin ta'in; dhalas hin gaafatin. [26] Ati yoo wayyaa

nama biraa qabdii qabatte, utuu aduun hin dhi’in deebisiif; 27 wanni inni dhagna
isaatti uffatu wayuma sanaatii. Wanni inni uffatee rafu biraa maali? Ani waanan
gara laafessa ta’eef, yoo inni natti ol iyyate nan dhaga’a.
28 “Waaqa hin arrabsin; bulchaa saba keetiis hin abaarin.
29 “Mataa midhaan keetiitii fi dhangala’aa wayinii keetii irraa aarsaa dhi’eessuu
hin tursin.
“Ilmaan kee keessaas hangafa naa kennuu qabda. 30 Loon keetii fi hoolota
kee akkanuma godhi. Isaanis bultii torba haadha isaanii bira haa turan; guyyaa
saddeettaffaatti garuu naa kenni.
31 “Isin saba koo qulqulluu ni taatu. Kanaafuu foon horii bineensi alatti cabsee
kam iyyuu hin nyaatinaa; foon akkanaa saree dura buusaa.

# 23

### *Seera Murtii Qajeelaa fi Araaraa*

1 “Oduu sobaa hin odeessin; dhuga ba’uu jal’aa kennuudhaan nama balleessaa
hojjete hin gargaarin.
2 “Waan hamaa hojjechuuf jettee nama baay’ee faana hin bu’in. Fuula seeraa
duratti yommuu dhugaa baatu, gara nama baay’ee gortee murtii hin jal’isin; 3 murtii
irratti hiyyeessaaf hin loogin.
4 “Yoo sangaa yookaan harree diina keetii kan baduutti jiru argite deebisii geessiif.
5 Yoo harree nama si jibbu tokkoo utuu isheen ba’aa baattee kuftee jirtuu argite achitti
hin dhiisin; isa gargaarii ol kaasi.
6 “Murtii irratti hiyyeessa saba keetii jalaa murtii hin dabsin. 7 Himata sobaa
keessatti hin hirmaatin; waan ani nama balleessaa hojjete hin qulqulleessineef nama
yakka hin qabne yookaan nama qajeelaa hin ajjeesin.
8 “Ati matta’aa hin fudhatin; matta’aan ogeeyyii ni jaamsaatii; dubbii qajeeltotaas
jal’isa.
9 “Alagaa hin cunqursin; isin waan biyya Gibxiitti alagaa turtaniif alagaa ta’uun
maal akka ta’e isin mataan keessan ni beektuutii.

### *Seera Sanbataa*

10 “Waggaa ja’a lafa qotiisaa kee facaafadhu; midhaanis galfadhu; 11 waggaa
torbaffaatti garuu lafa sana boqochiisi malee hin qotin. Akkasiin hiyyeeyyiin saba
keetii laficha irraa nyaata argatu; waan isaan irraa hafe immoo bineensi haa nyaatu.
Muka wayinii keetiitii fi muka ejersa keetiis akkasuma godhi.
12 “Guyyaa ja’a hojii kee hojjetadhu; akka sangaan keetii fi harreen kee boqotaniif,
akka garbichi mana keetti dhalatee fi alagaan aara galfataniif guyyaa torbafaatti hin
hojjetin.
13 “Waan ani isinitti hime hunda eegaa; maqaa waaqota biraa hin waammatinaa;
afaan keessanii iyyuu hin ba’in.

### *Ayyaana Waggaa Sadan*

14 “Ati waggaatti yeroo sadii ayyaana naa ayyaaneffadhu.
15 “Ayyaana Maxinoo Ayyaaneffadhu; akkuma ani si ajaje sana bultii torba Maxinoo
nyaadhu. Waan kanas ji’a Abiibii keessa yeroo murtaa’etti godhi; ati ji’a sana keessa
Gibxii baateetii.
“Namni tokko iyyuu harka duwwaa fuula koo duratti hin dhi’aatin.
16 “Mataa midhaan keetii kan lafa qotiisaa keetti facaafatteen Ayyaana Galchaa
Midhaanii ayyaaneffadhu.
“Dhuma waggaatti yeroo midhaan kee lafa qotiisaa irraa walitti qabattutti Ayyaana
Galchaa Midhaanii ayyaaneffadhu.

17 “Dhiirri hundi waggaatti yeroo sadii fuula WAAQAYYOO Gooftaa duratti haa
dhi’aatu.
18 “Dhiiga aarsaa waan raacitii qabu wajjin naa hin dhi’eessin.
“Coomni aarsaa ayyaana koos hamma bariitti hin turin.
19 “Mataa midhaan lafa keetii keessaa filatamaa isaa gara mana WAAQAYYO Waaqa
keetii fidi.
“Ilmoo re’ee aannan haadha isheetiin hin affeelin.

### *Ergamaan Waaqayyoo Karaa Qopheessuu Isaa*

20 “Akka inni karaa irratti si eegee iddoo ani qopheessetti si galchuuf kunoo ani
fuula kee dura ergamaa koo tokko nan erga. 21 Xiyyeeffadhuutii waan inni jedhu
dhaggeeffadhu. Isatti hin fincilin; inni waan Maqaa koo of irraa qabuuf fincila kee
siif hin dhiisuutii. 22 Yoo ati waan inni jedhu akka gaarii dhaggeeffatee waan ani
dubbadhu hunda goote, ani diinota keetti diina nan ta’a; warra siin mormaniinis nan
morma. 23 Ergamaan koos fuula kee dura deemee biyya Amoorotaatti, Heetotaatti,
Feerzotaatti, Kana’aanotaatti, Hiiwotaattii fi Yebuusotaatti si galcha; anis jara nan
balleessa. 24 Waaqota isaaniitiif hin sagadin; hin waaqeffatinis; hojii isaanii faanas
hin bu’in. Ati isaan balleessitee sooddu waaqeffannaa isaanii illee caccabsuu qabda.
25 WAAQAYYO Waaqa kee waaqeffadhu; innis midhaan keetii fi bishaan kee ni eebbisa.
Dhukkubas isin gidduudhaa nan balleessa; 26 biyya kee keessatti dubartiin ulfi irraa
ba’u yookaan dhabduun tokko iyyuu hin argamtu. Jireenya guutuus siif nan kenna.
27 “Ani sodaachisuu koo si dura ergee saba ati itti dhuftu hunda nan burjaajessa.
Akka diinonni kee hundinuu dugda sitti galanii baqatanis nan godha. 28 Akka inni
Hiiwota, Kana’aanotaa fi Heetota karaa kee irraa ari’uuf ani si duraan sonsa nan erga.
29 Akka lafti onee bineensi wal horee sitti hin baay’anneef ani waggaa tokko keessatti
saba kana si duraa ari’ee hin baasu. 30 Hamma ati baay’attee biyyattii dhaaltutti ani
xinnoo xinnoon fuula kee duraa isaan nan baasa.
31 “Anis daarii kee Galaana Diimaadhaa jalqabee hamma Galaana Filisxeemiitti,
lafa alootii jalqabee hamma Laga Efraaxiisiitti siifin dhaaba. Namoota biyya sana
jiraatanis dabarsee harka keetti nan kenna; ati immoo of duraa ariitee isaan baafta.
32 Ati isaan wajjin yookaan waaqota isaanii wajjin kakuu tokko illee hin galin. 33 Akka
isaan biyya kee keessa jiraatan hin eeyyamaniif; yoo akkas ta’e isaan akka ati cubbuu
natti hojjettu si godhu; ati waaqota isaanii waaqeffannaan kun dhugumaan kiyyoo
sitti ta’aatii.”

## 24

### *Kakuun Jabeeffame*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Atii fi Aroon, Naadaabii fi Abiihuu,
maanguddoota Israa’el keessaas namoonni torbaatamni gara WAAQAYYOTTI ol ba’aa;
alaalatti sagadaa; 2 garuu Museen qofti WAAQAYYOTTI haa dhi’aatu; warri kaan immoo
hin dhi’aatin. Sabni isa wajjin ol hin ba’in.”
3 Museenis dhaqee dubbii fi seera WAAQAYYOO hunda saba sanatti hime; sabni sunis,
“Nu waan WAAQAYYO jedhe hunda ni goona” jedhee afaan tokkoon deebise. 4 Ergasii
Museen waan WAAQAYYO dubbatte hunda barreesse.
Guyyaa itti aanu ganamaanis ka’ee miilla tulluu jalatti iddoo aarsaa ijaare; utubaa
dhagaa kudha lama kanneen gosoota Israa’el kudha lamaan iddoo bu’anis dhaabe.
5 Innis dargaggoota Israa’el erge; isaanis aarsaa gubamuu fi jiboota aarsaa nagaa
godhanii WAAQAYYOOF dhi’eessan. 6 Museenis walakkaa dhiiga sanaa waciitiitti
naqe; walakkaa hafe immoo iddoo aarsaa irratti faffacaase. 7 Innis kitaaba kakuu
fuudhee saba sanaaf dubbise. Isaanis, “Nu waan WAAQAYYO jedhe hunda ni goona;
ni ajajamnas” jedhanii deebisan.

8 Yommus Museen dhiiga sana fuudhee sabatti faffacaasee, "Kunoo kun dhiiga
kakuu kan WAAQAYYO akkuma dubbii kana hundaatti isinii dhaabee dha" jedhe.
9 Musee fi Aroon, Naadaabii fi Abiihuu, maanguddoonni Israa'el torbaatamnis ol
ba'anii 10 Waaqa Israa'el argan. Miilla isaa jalattis waan akka afaa dhagaa Sanpeer
kan akkuma samiitti qulqullaa'e tokkotu afamee ture. 11 Waaqni garuu qondaaltota
saba Israa'el kanneenitti harka isaa ol itti hin kaafne; isaan Waaqa argan; ni nyaatan;
ni dhuganis.
12 WAAQAYYOS Museedhaan, "Gara kootti tulluutti ol ba'i; asis turi; anis gaba-
teewwan dhagaa kanneen ani akka qajeelfama isaanii ta'uuf seeraa fi ajajawwan
itti barreesse siif nan kenna" jedhe.
13 Ergasii Museen gargaaraa isaa Iyyaasuu wajjin ka'ee deeme; Museenis tulluu
Waaqaatti ol ba'e. 14 Innis maanguddoota sanaan akkana jedhe; "Hamma nu gara
keessanitti deebinutti asitti nu eegaa. Kunoo Aroonii fi Huuri isin bira jiran; namni
falmii qabu isaan bira dhaquu danda'a."
15 Yeroo Museen tulluutti ol ba'etti duumessi tulluu sana haguuge; 16 ulfinni
WAAQAYYOOS Tulluu Siinaa irra bu'e. Duumessi sunis guyyaa ja'a tulluu sana
haguuge; guyyaa torbaffaatti immoo WAAQAYYO duumessicha keessaa Musee waame.
17 Ulfinni WAAQAYYOOS ibidda waa gubu fakkaatee fiixee tulluu irraa saba Israa'elitti
mul'achaa ture. 18 Museen tulluutti ol ba'ee duumessa keessa seene. Innis guyyaa
afurtamaa fi halkan afurtama tulluu sana irra ture.

# 25

*Kennaa Dunkaana Qulqulluuf Walitti Qabamu*
*25:1-7 kwf – Bau 35:4-9*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akka isaan kennaa naa fidaniif saba
Israa'elitti himi. Nama garaa isaa guutuudhaan kennuu fedhu hunda harkaa kennaa
naa fuudhaa.

3 "Kennaan isaan harkaa fuutanis:

"Warqee, meetii fi naasii;
4 kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi wayyaa haphii quncee talbaa irraa
hojjetame;
rifeensa re'ee;
5 gogaa korbeessa hoolaa kan halluu diimaa cuuphame, gogaa duugame,
muka laaftoo,
6 ibsaadhaaf, zayitii ejersaa,
urgooftuuwwan immoo zayitii dibatamuu fi ixaana urgaa'uuf;
7 dhagaawwan sardooniksii, dooqa gati jabeessa, dirataa fi qomee irratti
kaa'atamuu dha.

8 "Ergasii akka isaan iddoo qulqulluu naa qopheessan godhi; anis gidduu isaanii
nan jiraadha. 9 Dunkaana qulqulluu kanaa fi mi'a isaa hunda akkuma bifa ani sitti
argisiisuutti hojjedhaa.

*Taabota*
*25:10-20 kwf – Bau 37:1-9*

10 "Isaan muka laaftoo irraa taabota haa tolchan; taabonni sunis dhundhuma lamaa
fi walakkaa dheerata; dhundhuma tokkoo fi walakkaa bal'ata; dhundhuma tokkoo
fi walakkaa ol dheerata ture. 11 Keessaa fi duuba isaatti warqee qulqulluu uffisi;
naannoo isaattis marsaa faaya warqee naannessii tolchi. 12 Taabota sanaafis qubeelaa

warqee afur tolchiitii miilla isaa afranitti jechuunis lama gama tokkoon, lama immoo
gama kaaniin itti kaa'i. 13 Muka laaftoo irraa danqaraawwan tolchiitii warqee itti
uffisi. 14 Taaboticha ittiin baachuudhaaf danqaraawwan sana qubeelaawwan keessa
loosi. 15 Danqaraawwan kunneen qubeelaawwan taabotichaa keessa haa turan;
keessaa baafamuus hin qaban. 16 Atis dhuga ba'umsa ani sitti kennu Taaboticha
keessa kaa'i.
17 "Warqee qulqulluu irraa teessoo araaraa tolchi; dheerinni isaas dhundhuma
lamaa fi walakkaa, bal'inni isaa immoo dhundhuma tokkoo fi walakkaa haa ta'u.
18 Moggaa lamaan teessoo araaraa irratti warqee tumame irraa Kiirubeelii lama
tolchi. 19 Kiirubii tokko moggaa tokko irratti, kiirubii lammaffaa immoo moggaa
kaan irratti tolchi; kiirubeelii sanas teessoo araaraa wajjin kutaa warqee tokkicha
irraa moggaa lamaan irratti tolchi. 20 Kiirubeeliin sun qoochoo isaanii ol bal'ifatanii
teessoo araaraa ittiin haa gaaddiseessan; Kiirubeeliin kunneen fuula isaanii walitti
garagalfatanii teessoo araaraa haa ilaalan. 21 Teessoo araaraa sana taaboticha irra
kaa'i; dhuga ba'uu ani sitti kennu immoo taaboticha keessa kaa'i. 22 Ani achitti
si arga; teessoo araaraa irraa, kiirubeelii lamaan taabota kakuu seeraa irra jiran
gidduudhaa waa'ee ajajawwan ani saba Israa'eliitiif sitti kennu hundaa sittin hima.

### *Minjaala*
### *25:23-29 kwf – Bau 37:10-16*

23 "Muka laaftoo irraa minjaala dhundhuma lama dalga dheeratu, kan dhundhuma
tokko bal'atee ol dheerinni isaa immoo dhundhuma tokkoo fi walakkaa ta'e tolchi.
24 Warqee qulqulluu itti uffisiitii naannoo isaatti marsaa warqee tolchi. 25 Naannoo
isaa irrattis hidhii hamma bal'ina harkaa ga'uu fi faaya warqee tolchi. 26 Minjaala
kanaafis qubeelaa warqee afur hojjedhuutii goleewwan afranitti iddoo miilli afran
jiranitti kaa'i. 27 Qubeelaawwan kunneenis akka danqaraa ittiin minjaala baatan
qabataniif xiyyoo sanatti dhi'aachuu qabu. 28 Muka laaftoo irraa loosawwan tolchi;
warqee itti uffisiitii minjaala sana ittiin baadhu. 29 Dhibaayyuu dhi'eessuufis
caabiiwwan isaa, waciitiiwwan isaa, okkoteewwan isaatii fi waciitiiwwan isaa
warqee qulqulluu irraa tolchi. 30 Buddeena ilaalchaas yeroo hunda fuula koo dura
minjaala kana irra kaa'i.

### *Baattuu Ibsaa*
### *25:31-39 kwf – Bau 37:17-24*

31 "Baattuu ibsaas warqee qulqulluu irraa tolchi; baattuun ibsaa kunis tumamee
haa tolfamu; somaa isaa, damee isaa, waciitii isaa, hudhaa isaatii fi daraaraa
isaa warqeedhuma sana irraa tolchi. 32 Bitaa mirga baattuu ibsaa sana keessaas
dameewwan ja'a jechuunis sadii gama tokkoon, sadii immoo gama kaaniin haa
baafaman. 33 Xoofoowwan lawuzii fakkaatan kanneen tokkoon tokkoon isaanii
hudhaa fi daraaraa qaban sadii damee tokko irratti, waciitiiwwan lawuzii fakkaatan
kanneen tokkoon tokkoon isaanii hudhaa fi daraaraa qaban sadii immoo damee
kaan irratti tolchi; dameewwan ja'aan baattuu ibsaa irraa babba'an hunda irrattis
akkasuma tolchi. 34 Xoofoowwan hudhaa fi daraaraa qaban kanneen bifa lawuziitiin
hojjetaman afur baattuu ibsaa sana irra haa jiraatan. 35 Hudhaan tokko cimdii
jalqabaa kan dameewwan baattuu ibsaa irraa babba'an jala, hudhaan lammaffaan
cimdii lammaffaa jala, hudhaan sadaffaan immoo cimdii sadaffaa jala ture. Walumaa
galatti dameewwan ja'atu ture. 36 Hudhaawwanii fi dameewwan hundinuu baattuu
ibsaa sana wajjin warqeedhuma qulqulluu tumame tokko irraa haa tolfaman.
37 "Atis ibsaawwan torba tolchiif; akka lafa fuula isaanii dura jiru ibsaniifis baattuu
ibsaa irra isaan dhadhaabi. 38 Wanni ittiin daaraa isaa dhadha'anii fi caabiin daaraa
sana baattu warqee qulqulluu irraa haa hojjetaman. 39 Baattuun ibsaatii fi mi'i

isaa hundi warqee qulqulluu taalaantii tokkootiin haa hojjetamani. 40 Atis akkuma
fakkeenya tulluu irratti sitti argisiifame sanaatti hojjechuu kee mirkaneeffadhu.

## 26

*Dunkaana Qulqulluu*
*26:1-37 kwf – Bau 36:8-38*

1 “Golgaawwan kudhan kanneen quncee talbaa gaarii fo’amee fi kan kirrii
bifa cuquliisaa, dhiilgee fi bildiimaa irraa hojjetamaniin dunkaana qulqulluu
hojjedhu; golgaawwan sana irrattis ogeessi harka qajeelu tokko kiirubeelii haa
hojjetu. 2 Golgaawwan hundinuu wal qixxee haa ta’an; dheerinni tokkoo tokkoo
golgaawwanii dhundhuma digdamii saddeeti, bal’inni isaa immoo dhundhuma afur
haa ta’u. 3 Golgaawwan shan walitti qabsiisi; golgaawwan hafan shanan kaan illee
akkasuma walitti qabsiisi. 4 Golgaawwan walitti qabsiifaman kanneen jalqabaa
keessaa handaara isa moggaa irratti huccuu bifa cuquliisaa irraa gurroowwan tolchi;
golgaawwan walitti qabsiifaman lammaffaa irrattis akkasuma tolchi. 5 Gurroowwan
shantama golgaa tokko irratti tolchi; gurroowwan shantama immoo golgaawwan
walitti qabsiifaman lammaffaa keessaa moggaa isa tokkootti tolchi. Gurroowwan
sunis gamaa gamanatti haa tolfaman. 6 Akka dunkaanni qulqulluun sun tokko
ta’uufis hokkoowwan warqee shantama tolchiitii golgaawwan sana ittiin walitti
qabsiisi.

7 “Haguuggii gubbaa dunkaana qulqulluu irra jiru haguuguufis golgaawwan
rifeensa re’ootaa kudha tokko hojjedhu. 8 Golgaawwan kudha tokkoon sun hundi
wal qixxee haa ta’an; dheerinni isaanii dhundhuma soddoma, bal’inni isaanii immoo
dhundhuma afur haa ta’u. 9 Golgaawwan shan iddoo tokkotti walitti qabsiisi; gol-
gaawwan ja’an kaan immoo iddoo tokkotti walitti qabsiisi; golgaa ja’affaa sanas fuula
dunkaanichaa duraan iddoo lamatti ol dachaasi. 10 Golgaawwan gama tokkoon walitti
qabsiifaman keessaa handaara isa moggaa irratti gurroowwan shantama tolchi;
golgaawwan gama kaan irratti walitti qabsiifaman keessaas handaara isa moggaa
irratti gurroowwan shantama tolchi. 11 Ergasiis qabduuwwan naasii shantama tolchi;
qabduuwwan sanas akka inni tokko ta’uuf ittiin walitti qabsiisuuf gurroowwan
keessa galchi. 12 Wanni golgaawwan dunkaanichaa irraa hafe, walakkaan golgaa
hafe sanaa dugda dunkaana qulqulluu irraan gad haa rarra’u. 13 Akka dunkaana
qulqulluu sana haguuguufis dheerina golgaawwan dunkaanicha irraa hafe keessaa
dhundhumni tokko gama tokkoon, dhundhumni tokko immoo gama kaaniin bitaa
fi mirgaan dunkaana qulqulluu irraan gad haa rarra’u. 14 Dunkaana sanaafis irra
buusaa kaldhee korbeessa hoolaa kan halluu diimaa cuuphame, isa irraan immoo
irra buusaa gogaa duugamee hojjedhu.

15 “Dunkaana qulqulluu sanaafis muka laaftoo irraa tuggeewwan qaqqajeeloo
hojjedhu. 16 Dheerinni tokkoo tokkoo tuggeewwan sanaas dhundhuma kudhan,
bal’inni isaa immoo dhundhuma tokkoo fi walakkaa haa ta’u; 17 tokkoon tokkoon
tuggeewwan sanaas akka wal keessa galuu danda’uuf mucha lama lama haa qabaatu;
tuggeewwan dunkaana qulqulluu sanaa hunda akkasitti tolchi. 18 Gama kibba
dunkaana qulqulluu sanaatiifis tuggeewwan digdama hojjedhu; 19 tuggeewwan
digdamman sana jalatti miilla meetii afurtama jechuunis tuggee tokko jalatti miilla
lama gurra isaa lamaaniif, tuggee kaan jalattis miilla lama gurra isaa lamaaniif tolchi.
20 Gama dunkaana qulqulluu sanaa kaaniifis karaa kaabaatiin tuggeewwan digdama
tolchi; 21 miilla meetiis afurtama jechuunis tuggee tokko jalatti miilla lama, tuggee
kaan jalattis miilla lama tolchi. 22 Karaa lixa biiftuutiin, dugda duuba dunkaana
qulqulluu sanaatiif tuggee ja’a tolchi; 23 karaa dugda duubaas golee dunkaana

qulqulluu sanaatiif utubaa lama tolchi. 24 Tuggeewwan golee kunneen jalaa hamma
gubbaatti walitti fayyifamanii bantii irratti qubeelaa tokkoon walitti haa qabsiifaman;
tuggeewwan golee lamaaniis akkasuma ta'uu qabu. 25 Kanaafuu tuggeewwan
saddeeti kanneen miilla meetii kudha ja'a qabanitu jira; tokkoon tokkoon tuggee
sanaas miilla lama lama qaba.
26 "Akkasumas muka laaftoo irraa dagaleewwan tolchi; tuggeewwan dunkaana
qulqulluu sana irra gama tokkoon jiraniif dagaleewwan shan, 27 tuggeewwan gama
kaaniin jiraniif dagaleewwan shan, shan tuggeewwan dugda duubaan karaa lixa
biiftuutiin jiraniif immoo dagaleewwan shan tolchi. 28 Dagalee walakkaa jiru sana
akka inni gidduu tuggeewwaniitiin moggaa tokkoo hamma moggaa kaaniitti fulla'u
godhi. 29 Tuggeewwan sana irras warqee itti uffisi. Akka dagaleewwan baataniif
qubeelaawwan warqee itti tolchi; dagaleewwan sanas akkasuma warqee itti uffisi.
30 "Dunkaana qulqulluu kana akkuma karoora tulluu irratti sitti argisiifame
sanaatti dhaabi.
31 "Kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa haphii irraa golgaa
tulchi; golgaa kana irrattis ogeessi harka qajeelu tokko fakkii kiirubeelii haa tolchu.
32 Golgaa kana hokkoo warqeetiin utubaawwan muka laaftoo kanneen warqeen itti
uffifamee miilla meetii afur irra dhadhaababatan afuritti rarraasi. 33 Golgaa sana
hokkoowwanitti rarraasiitii taabota kakuu seeraa immoo dugda isaa duubaan kaa'i.
Golgaan sunis Iddoo qulqulluu, Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta'e sana irraa
addaan baasa. 34 Teessoo araaraas Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta'e sana
keessa taabota kakuu seeraa irra kaa'i. 35 Minjaala sanas golgaadhaan ala, gama
kaaba dunkaana qulqulluutiin dhaabi; baattuu ibsaa immoo fuullee minjaala sanaa
gama kibba dunkaanichatiin dhaabi.
36 "Balbala dunkaanichaatiif immoo golgaa kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa
fi quncee talbaa kan qal'ifamee fo'amee harkaan irratti hodhame tokko faayessii
tolchi. 37 Golgaa kanaafis hokkoo warqeetii fi utubaa muka laaftoo kan warqeen itti
uffifame shan tolchi. Naasii tumiitii miilla shan tolchiif.

# 27

*Iddoo Aarsaa Kennaa Gubamuu*
*27:1-8 kwf – Bau 38:1-7*

1 "Muka laaftoo irraa iddoo aarsaa dhundhuma sadii ol dheeratu ijaari; iddoon
aarsaa kunis dheerina dhundhuma shanii fi bal'ina dhundhuma shanii qabaatee
gama afraniinuu wal qixxee haa ta'u. 2 Tokkoo tokkoo goleewwan afraniitti gaanfa
tolchi; gaanfaa fi iddoon aarsaa sun mukuma tokko irraa haa ta'u; iddoo aarsaa
sana irrattis naasii uffisi. 3 Mi'a isaa hunda jechuunis waan ittiin daaraa haran,
waan ittiin daaraa hammaaran, waciitii, hokkoo fooniitii fi baattuu ibiddaa naasii
irraa tolchi. 4 Naasii wal keessa xaxameen gingilchaa hojjedhuutii tokkoo tokkoo
rogawwan gingilchaa sanaa afraniif qubeelaawwan naasii tolchi. 5 Gingilchaa sanas
akka inni hamma walakkaa iddoo aarsaatti ol ka'uuf qarqara iddoo aarsaa jalaan
kaa'i. 6 Iddoo aarsaa sanaafis danqaraawwan muka laaftoo tolchiitii naasii itti uffisi.
7 Danqaraawwan sunis akka yeroo iddoon aarsaa baatamutti gama lamaaniin oolaniif
qubeelaawwan keessa haa loofaman. 8 Akkuma tulluu irratti sitti argisiifame sanatti
iddoo aarsaa kan keessi isaa duwwaa ta'e saanqaa irraa hojjedhu.

*Oobdii*
*27:9-19 kwf – Bau 38:9-20*

9 "Dunkaana qulqulluu sanaaf oobdii hojjedhu. Oobdichis gama kibbaatiin
dhundhuma dhibba tokko haa dheeratu; innis golgaa quncee talbaa gaarii fo'ame
irraa hojjetamee 10 utubaawwan digdamaa fi miilla naasii digdama qaban haa

qabaatu; hokkoowwanii fi somaawwan utubaawwan kanneenis meetii irraa haa
hojjetaman. 11 Gama kaabaatiinis akkasuma dhundhuma dhibba tokko dheeratee
golgaawwan utubaawwan digdamaa fi miilla naasii digdama qaban haa qabaatu;
hokkoowwanii fi somaawwan utubaawwan kanaas meetii irraa haa tolfaman.
12 "Oobdiin kun gama lixaatiin dhundhuma shantama bal'atee golgaawwan, utubaa
kudhanii fi miilla kudhan qaban haa qabaatu. 13 Oobdiin kun fiixee ba'aatiin karaa
ba'a biiftuutiin akkasuma dhundhuma shantama haa bal'atu. 14 Golgaawwan dhund-
huma kudha shan dhedheeratanii utubaa sadii fi miilla sadii qabanis karaa balbala
tokkoo irra haa jiraatan. 15 Golgaawwan dhundhuma kudha shan dhedheeratanii
utubaa sadii fi miilla sadii qabanis gama kaaniin haa jiraatan.
16 "Balbala oobdii sanaatiifis golgaa dhundhuma digdama dheeratee utubaa afurii
fi miilla afur qabu kan kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa
kan qal'ifamee fo'ameen dha'amee irratti faayeffamee hojjetame tokko tolchi.
17 Utuboonni naannoo oobdii sanaa hundinuu somaawwanii fi hokkoowwan meetiitii
fi miillawwan naasii haa qabaatan. 18 Oobdiin sun dheerina dhundhuma dhibba
tokkoo fi bal'ina dhundhuma shantamaa haa qabaatu; golgaa quncee talbaa gaarii
fo'amee dhundhuma shan ol dheeratuu fi miillawwan naasii irraa hojjetame haa
qabaatu. 19 Mi'i tajaajila dunkaana qulqulluu sanaatiif fayyadu biraa hundi, tajaajila
kam iyyuu taanaan, qofoo dunkaanichaatii fi qofoo oobdii sanaa hunda dabalatee
naasii irraa haa hojjetamu.

*Zayitii Baattuu Ibsaa*
*27:20-21 kwf – Lew 24:1-3*

20 "Akka ibsaan ittuma fufee boba'uuf akka isaan zayitii ejersa cuunfame taliila
isaa ibsaadhaaf siif fidan saba Israa'el ajaji. 21 Aroonii fi ilmaan isaa dunkaana wal
ga'ii keessatti golgaa fuula taabota kakuu seeraa dura jiruun alatti akka ibsaan sun
galgalaa hamma ganamaatti fuula WAAQAYYOO duratti boba'uu haa godhan. Wanni
kunis saba Israa'el keessatti dhaloota dhufuuf seera bara baraa haa ta'u.

# 28

*Uffata Lubummaa*

1 "Akka isaan luboota ta'anii na tajaajilaniif obboleessa kee Aroon, isa wajjinis
ilmaan isaa Naadaab, Abiihuu, Ele'aazaarii fi Iitaamaarin saba Israa'el keessaa ofitti
dhi'eessi. 2 Akka inni ulfinaa fi miidhagina argatuufis obboleessa kee Arooniif
uffata qulqulluu hodhi. 3 Akka inni luba ta'ee na tajaajiluuf namoota beekumsa
qaban kanneen ani ogummaa akkanaa kenneef hunda akka isaan akka inni addaan
baafamuuf jedhanii Arooniif uffata hodhan itti himi. 4 Uffanni isaan hojjetanis:
kiisii qomaa, dirata, wandaboo, kittaa miidhagfamee dhawame, marata mataatii fi
sabbataa dha. Jarris akka isaan luboota ta'anii na tajaajilaniif obboleessa kee Aroonii
fi ilmaan isaatiif uffata qulqulluu kana haa hojjetan. 5 Ogeeyyiin sunis warqee fi
kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ametti
haa fayyadaman.

*Efuudii*
*28:6-14 kwf – Bau 39:2-7*

6 "Ogeessa harka tolu tokko warqee, kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee fi bildiimaa
fi quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ameen dirata hojjechiisi. 7 Diranni kunis akka
walitti guduunfamuu danda'uuf funyoo gatiittii lama kanneen fiixee isaa lamaanitti
rarraafaman haa qabaatu. 8 Sabbanni isaa kan ogummaadhaan dha'ames akkuma
isaa dirata wajjin tokko ta'ee warqeedhaan, kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa
fi quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ameen haa hojjetamu.

9 “Dhagaawwan sardooniksii lama fuudhiitii maqaa ilmaan Israa'el isaan irratti
soofii barreessi. 10 Akkuma toora dhaloota isaaniitti, maqaa ja'a dhagaa tokko irratti,
maqaa ja'aan hafes dhagaa kaan irratti soofii barreessi. 11 Akkuma ogeessi faayaa
tokko chaappaa soofee hojjetu sana atis dhagaa lamaan sana irratti maqaa ilmaan
Israa'el soofii barreessi; ergasiis faaya warqee itti naannessiitii 12 akka inni ilmaan
Israa'eliif dhagaa yaadannoo ta'uuf funyoo gatiittii dirata sanatti qabsiisi. Aroonis
maqaa sana yaadannoo godhee fuula WAAQAYYOO duratti gatiittii isaa lamaanitti haa
baatu. 13 Ati immoo faaya warqee itti naannessiitii 14 foncaa warqee qulqulluu kan
akka funyootti fo'ame lama tolchi; foncaa fo'ame sana illee faaya sanatti qabsiisi.

*Kiisii Qomaa*
*28:15-28 kwf – Bau 39:8-21*

15 “Ogeessa harka tolu tokko kiisii qomaa kan murtii hojjechiisi; isas akkuma
dirata sanaatti warqeedhaan, kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee
talbaa kan qal'ifamee fo'ameen hojjedhu. 16 Kiisiin qomaa kun gama afraniinuu wal
qixxee fi dachaa ta'ee dheerina taakkuu tokkoo fi bal'ina taakkuu tokko haa qabaatu.
17 Dhagaawwan gati jabeeyyiis toora afuriin irratti maxxansi. Toora jalqabaa irratti
sardiyoon, tophaaziyoonii fi biiralee; 18 toora lammaffaa irratti baluur, sanpeerii fi
almaaz; 19 toora sadaffaa irratti yaakinti, kelqedoonii fi yaakinti, 20 toora afuraffaa
irratti biiralee, sardooniksii fi yaasphiidi maxxansi. Dhagaawwan kanneenittis
marsaa faaya warqee tolchi. 21 Dhagaawwan kudha lama kanneen tokkoo tokkoo
isaanii irratti maqaa gosoota kudha lama keessaa maqaan tokko akkuma chaappaatti
soofame haa jiraatan; tokkoon tokkoon dhagaawwan sanaas maqaa ilmaan Israa'el
tokko tokkoof dhaabata.
22 “Kiisii qomaatiifis foncaa warqee qulqulluu akka funyootti fo'ame tolchi. 23 Kiisii
qomaa sanaafis qubeelaa warqee lama tolchiitii qubeelaa warqee lamaan roga
kiisii qomaa lamaanitti qabsiisi. 24 Foncaa warqee sana lamaanis qubeelaawwan
rogawwan kiisii qomaa sanatti guduunfi. 25 Mataa lamaan foncaa lamaan sanaa
kaan immoo marsaawwan faayaa lamaanitti guduunfiitii karaa fuula duraatiin
foncaa dirataa kan gatiittiitti qabsiisi. 26 Qubeelaawwan warqee lama tolchiitii
rogawwan kiisii qomaa biraa kanneen karaa moggaa keessaatiin diratatti aananii
jiran lamaanitti kaa'i. 27 Ammas qubeelaawwan warqee lama biraa tolchiitii sabbata
dirataatiin olitti hodhaatti dhi'eessii funyoo gatiittii lamaan fuula dirataa duraan
jiru sana jalaan itti hidhi. 28 Akka kiisiin qomaa dirata irraa hin sosochooneef
qubeelaawwan kiisii qomaa sun sabbata mudhiitiin walitti qabsiifamanii funyoo bifa
cuquliisaatiin qubeelaawwan diratatti haa qabsiifaman.
29 “Aroon yeroo iddoo qulqulluu ol seenu hunda akka fuula WAAQAYYOO duratti
yaadannoo bara baraa ta'uuf laphee isaa irratti kiisii qomaa kan murtiitiin maqaa
ilmaan Israa'el ni baata. 30 Akka isaan yeroo Aroon fuula WAAQAYYOO dura dhufu
hunda laphee isaa irra jiraataniif Uriimii fi Tumiimii akkasuma kiisii qomaa keessa
kaa'i. Akkasiinis Aroon yeroo hunda mi'a ittiin Israa'elootaaf murtii kennu fuula
WAAQAYYOO duratti laphee isaa irratti baata.

*Uffata Lubummaa Kaan*
*28:31-43 kwf – Bau 39:22-31*

31 “Huccuu bifti isaa guutumaan guutuutti cuquliisa ta'e irraa wandaboo dirataa
tolchi; 32 walakkaa gubbaa isaattis afaan ittiin mataa seensifatan tolchi. Akka
inni hin tarsaaneefis qarqara afaan isaa irra wanni faayeffamee qopheeffame haa
jiraatu. 33 Naannoo xiyyoo wandaboo sanaatti immoo kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee
fi bildiimaadhaan roomaanii hojjedhuutii gidduu isaatti immoo bilbila warqee tolchi.
34 Bilbilli warqeetii fi roomaaniin sun wal jala dadarbanii naannoo xiyyoo wandaboo

sanaatti haa hojjetaman. 35 Aroon yeroo tajaajilu wandaboo kana haa uffatu; akka
inni hin duuneef yommuu inni fuula WAAQAYYOO dura iddoo qulqulluu seenuu fi
yommuu inni achii gad ba’utti sagaleen bilbila sanaa ni dhaga’ama.
36 “Warqee qulqulluu irraa faaya tolchii,

Kan WAAQAYYOOF Qulqulleeffame,

jedhiitii akkuma waan chaappaa irratti soofamuutti soofii barreessi. 37 Faaya sana
marata mataatiin wal qabsiisuuf funyoo bifa cuquliisaa itti hidhi; innis marata
mataa fuula duraan haa ta’u. 38 Faayi kunis adda Aroon irra taa’a; Aroonis yakka
kennaawwan qulqulluu ilmaan Israa’el dhi’eessan keessatti argamu hunda ni baata.
Kunis akka isaan fuula WAAQAYYOO duratti fudhatama argataniif adda Aroon irra
jiraata.
39 “Quncee talbaa kan qal’ifamee fo’ame dhoofsisiitii qomee hojjedhu; marata
mataa illee quncee talbaa gaarii irraa tolchi. Sabbannis ogeessa harka qajeeluun haa
tolfamu. 40 Akka ilmaan Aroonis ulfinaa fi miidhagina argataniif qomee, sabbataa fi
marata mataa tolchiif. 41 Erga uffata kana obboleessa kee Aroonittii fi ilmaan isaatti
uffiftee booddee dibii isaan muudi. Akka isaan luboota ta’anii na tajaajilaniifis isaan
qulqulleessi.
42 “Qumxaa wayyaa jalaa kan mudhiidhaa jalqabee hamma gudeedaatti qullaa
namaa dhoksu quncee talbaa irraa hojjedhuuf. 43 Aroonii fi ilmaan isaa akka
balleessaa hojjetanii hin duuneef yeroo dunkaana wal ga’ii seenan yookaan Iddoo
Qulqulluu sanatti tajaajila kennuuf iddoo aarsaatti dhi’aatan uffata kana uffachuu
qabu.
“Kunis Aroonii fi sanyii isaatiif sirna bara baraa haa ta’u.

# 29

*Qulqulleeffamuu Lubootaa*
*29:1-37 kwf – Lew 8:1-36*

1 “Akka isaan luboota ta’anii na tajaajilaniif wanni ati isaan qulqulleessuuf
gootu kanaa dha; dibicha tokkoo fi korbeeyyii hoolaa kanneen mudaa hin qabne
lama fuudhi. 2 Daakuu qamadii filatamaa irraa Maxinoo, Maxinoo zayitiidhaan
sukkuumamee fi bixxillee zayitiin irra dibame tolchi. 3 Isaan kanas gundoo keessa
kaa’iitii dibichaa fi korbeeyyii hoolaa wajjin dhi’eessi. 4 Ergasii immoo Aroonii fi
ilmaan isaa gara balbala dunkaana wal ga’iitti fidiitii bishaaniin isaan dhiqi. 5 Uffatas
fuudhiitii qomee, wandaboo dirataa, dirataa fi kiisii qomaa Aroonitti uffisi. Dirata
sanas sabbata ogummaadhaan dha’ameen hidhi. 6 Mataa isaatti marata mari; marata
sanatti immoo gonfoo qulqulluu qabsiisi. 7 Zayitii ittiin dibdu fuudhiitii mataa
isaa irratti dhangalaasuudhaan isa dibi. 8 Ilmaan isaa fidii qomee isaanitti uffisi;
9 mataa isaaniitti marata mari. Ergasii immoo Aroonii fi ilmaan isaatti sabbata hidhi.
Lubummaanis seera bara baraatiin kan isaanii ti.
“Atis akkasiin Aroonii fi ilmaan isaa muudi.
10 “Dibicha sana gara fuula dunkaana wal ga’iitti fidi; Aroonii fi ilmaan isaa immoo
harka isaanii mataa isaa irra haa kaa’an. 11 Atis fuula WAAQAYYOO duratti, balbala
dunkaana wal ga’ii irratti isa qali. 12 Dhiiga dibicha sanaa irraa xinnoo fuudhiitii
quba keetiin gaanfa iddoo aarsaa dibi; kan hafe immoo miilla iddoo aarsaa irratti
dhangalaasi. 13 Moora mi’a garaatti haguugame hunda, haguuggii tiruutii fi moora
kalee lamaanitti haguugame fuudhiitii iddoo aarsaa irratti gubi. 14 Foon dibicha
sanaa, gogaa isaatii fi cumaa isaa garuu qubata keessaa gad baasii gubi. Inni aarsaa
cubbuu ti.
15 “Korbeeyyii hoolaa sana keessaa tokko fidi; Aroonii fi ilmaan isaas harka isaanii
mataa isaa irra haa kaa’an. 16 Korbeessa hoolaa sana qalii dhiiga isaa fuudhiitii

gama hundaan iddoo aarsaatti facaasi. 17 Korbeessa hoolaa sana gargar kukkutii
mi’a garaatii fi luka isaa miiciitii mataa fi kutaawwan kaan wajjin kaa’i. 18 Korbeessa
hoolaa sana guutumaan guutuutti iddoo aarsaa irratti gubi. Kunis qalma WAAQAYYOOF
gubamu, aarsaa urgaa’aa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamuu dha.

19 “Korbeessa hoolaa kaan illee fidi; Aroonii fi ilmaan isaa harka isaanii mataa
isaa irra haa kaa’an. 20 Korbeessa hoolaa sana qali; dhiiga isaa irraas fuudhiitii
fiixee gurra Aroon mirgaatii fi fiixee gurra ilmaan isaa mirgaa dibi; quba abbuudduu
harka mirgaa isaaniitii fi quba abbuudduu miilla mirgaa isaanii illee dibi. Dhiiga
hafe immoo gama hundaan iddoo aarsaatti facaasi. 21 Dhiiga iddoo aarsaa irra jiru
irraa, zayitii ittiin diban irraas fuudhiitii Aroonii fi uffata isaatti, ilmaan isaatii fi
uffata isaaniitti facaasi. Akkasiin innii fi ilmaan isaa, uffanni isaaniis ni qulqullaa’u.

22 “Korbeessa hoolaa kana irraas cooma, duboo, moora mi’a garaa haguugu,
haguuggii tiruu, kalee lamaanii fi moora isaanitti jiru, akkasumas tafa mirgaa
fuudhii. Korbeessi hoolaa kunis hoolaa ittiin lubummaa kennanii dha. 23 Gundoo
Maxinoo baatu kan fuula WAAQAYYOO dura jiru sana irraa maxinoo tokko, maxinoo
zayitiidhaan tolfame tokkoo fi bixxillee tokko fuudhi. 24 Wantoota kanneen hunda
harka Aroonii fi harka ilmaan isaa keessa kaa’iitii aarsaa sochoofamu godhii fuula
WAAQAYYOO duratti sochoosi. 25 Ergasii immoo harka isaaniitii fuudhii akka urgaa
WAAQAYYOTTI tolu ta’uuf aarsaa gubamu wajjin iddoo aarsaa irratti gubi; kunis aarsaa
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamuu dha. 26 Erga handaraafa hoolaa Aroon ittiin
luba ta’e sana fuutee booddee aarsaa sochoofamu godhiitii fuula WAAQAYYOO duratti
sochoosi; kunis qooda kee ti.

27 “Handaraafa aarsaa sochoofamuu, luka korbeessa hoolaa isa kan Aroonii fi
ilmaan isaa isa yeroo isaan luba ta’an aarsaa ta’ee dhi’aate sana qulqulleessi. 28 Kunis
qooda bara baraa kan sabni Israa’el yeroo hunda Aroonii fi ilmaan isaatiif kennuu
dha. Innis gumaacha sabni Israa’el aarsaa nagaa irraa WAAQAYYOOF kennuu dha.

29 “Akka isaan ittiin dibamanii luba ta’aniif uffanni Aroon qulqulluun kan ilmaan
isaa haa ta’u. 30 Ilmi iddoo isaa bu’ee luba ta’uudhaan Iddoo Qulqulluu keessa
tajaajiluuf gara dunkaana wal ga’ii dhufu bultii torba uffata kana haa uffatu.

31 “Korbeessa hoolaa isa ittiin luba ta’an sana fuudhiitii foon isaa Iddoo Qulqulluutti
affeeli. 32 Aroonii fi ilmaan isaa foon hoolaa sanaatii fi buddeena gundoo irraa sana
balbala dunkaana wal ga’ii duratti haa nyaatan. 33 Isaanis aarsaa isaan ittiin luba
ta’anii fi qulqulleeffamuu isaaniitiif ittiin araarri bu’e haa nyaatan. Sababii aarsaan
sun qulqulluu ta’eef garuu namni kaan hin nyaatin. 34 Yoo foon korbeessa hoolaa
ittiin luba ta’an kam iyyuu yookaan buddeenni kam iyyuu hafee bule ibiddaan gubi;
sababii qulqulluu ta’eef nyaatamuu hin qabu.

35 “Waan ani si ajaje hunda Aroonii fi ilmaan isaatiif godhi. Bultii torba
guutuu seera lubummaa isaaniif raawwadhu. 36 Akka araarri bu’uufis guyyuma
guyyaan dibicha qalii aarsaa cubbuu dhi’eessi. Iddoo aarsaa sanaaf aarsaa araaraa
dhi’eessuudhaan qulqulleessi; addaan baasuudhaafis isa dibi. 37 Iddoo aarsaa
sanaafis bultii torba araara buusiitii isa qulqulleessi. Yoos iddoon aarsaa sun waan
hunda caalaa qulqulluu ta’a; wanni isa tuqu hundinuus ni qulqulleeffama.

38 “Wanni ati yeroo hunda iddoo aarsaa irratti guyyaa guyyaan dhi’eessitu kanaa
dha: Xobbaallaawwan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta’e lama;
39 tokko ganama, kaan immoo galgala dhi’eessi. 40 Xobbaallaa jalqabaa sana wajjinis
daakuu ba’eessa isaa iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harki tokko zayitii ejersaa
kan cuunfamee iinii tokko harka afur keessaa harka tokkoon sukkuumame dhi’eessi;
akkasumas daadhii wayinii iinii harka afur keessaa harka tokko dhibaayyuu godhii
dhi’eessi. 41 Xobbaallaa hoolaa kaan immoo kennaa midhaaniitii fi kan dhibaayyuu

wajjin akkuma isa ganamaa sanaatti galgala dhi'eessi; kunis aarsaa urgaa'aa
ibiddaan Waaqayyoof dhi'eeffamuu dha.
42 “Qalmi gubamu kun dhaloota dhufu keessattis yeroo hunda balbala dunkaana
wal ga'ii irratti fuula Waaqayyoo duratti haa dhi'eeffamu. Anis gara keessan dhufee
achitti isinitti nan dubbadha; 43 saba Israa'el wajjinis achumatti wal argina; iddoon
sunis ulfina kootiin ni qulqulleeffama.
44 “Ani dunkaana wal ga'ii fi iddoo aarsaa sana nan qulqulleessa; Aroonii fi ilmaan
isaas akka isaan luboota ta'anii na tajaajilaniif nan qulqulleessa. 45 Anis saba Israa'el
keessa nan jiraadha; Waaqa isaaniis nan ta'a. 46 Isaanis akka ani Waaqayyo Waaqa
isaanii kan gidduu isaanii jiraachuuf jedhee biyya Gibxiitii keessaa isaan baase ta'e
ni beeku; ani Waaqayyo Waaqa isaanii ti.

# 30

*Iddoo Aarsaa Ixaanaa*
*30:1-5 kwf – Bau 37:25-28*

1 “Iddoo aarsaa kan ixaanni irratti aarfamu muka laaftoo irraa tolchi. 2 Iddoon
aarsaa kunis dalga dheerina dhundhuma tokko, bal'ina dhundhuma tokkootii fi
ol dheerina dhundhuma lamaa qabaatee gama afraniinuu wal qixxee haa ta'u;
gaanfawwan isaas iddoo aarsaa sanaan walitti waanuma tokko irraa haa tolfaman.
3 Gubbaa isaa irra, cinaacha isaa hundumaa fi gaanfawwan isaatti warqee qulqulluu
uffisiitii naannoo isaatti marsaa warqee naannessii tolchi. 4 Iddoo aarsaa sanaafis
marsaawwan warqee isaatii gaditti qubeelaawwan warqee lama tolchi; qubee-
laawwan kanas akka isaan danqaraawwan ittiin iddoo aarsaa baatan qabataniif
gamaa gamanaan cinaacha lamaanitti tolchi. 5 Danqaraawwan muka laaftoo tolchiitii
warqee itti uffisi. 6 Iddoo aarsaa sanas fuula golgaa taabota kakuu seeraa bira jiru
sanaa dura, fuula teessoo araaraa kan kakuu seeraatiin ol jiruu dura iddoo ani itti si
argu sana dhaabi.
7 “Aroon yommuu ganama ganama ibsaa qoqopheessutti iddoo aarsaa irratti
ixaana urgaa'aa haa aarsu. 8 Akka ixaanni sun dhaloota dhufu keessatti illee
yeroo hunda fuula Waaqayyoo duratti aaruuf Aroon yommuu galgala galgala ibsaa
qabsiisutti ixaana haa aarsu. 9 Iddoo aarsaa kana irratti ixaana gosa biraa yookaan
qalma gubamu yookaan kennaa midhaanii hin dhi'eessin; dhibaayyuus irratti hin
dhibaafatin. 10 Aroonis waggaatti yeroo tokko gaanfawwan iddoo aarsaa irratti
aarsaa araara buusu haa dhi'eessu; aarsaan waggaatti dhi'eeffamu kun dhiiga aarsaa
cubbuu kan araarri ittiin argamu wajjin dhaloota dhufu keessatti haa dhi'eeffamu.
Aarsaan kunis Waaqayyoof waan hundumaa caalaa qulqulluu dha.”

*Maallaqa Ittiin Araarri Bu'u*

11 Ergasiis Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 12 “Yommuu ati baay'ina saba
Israa'el lakkooftutti tokkoon tokkoon namaa yeroo lakkaa'amutti furii lubbuu isaa
Waaqayyoof haa kennu. Yoos yeroo ati isaan lakkooftutti dha'ichi tokko iyyuu
isaan hin argatu. 13 Namni warra lakkaa'amanitti dabalamu kam iyyuu akkuma
saqilii iddoo qulqulluu kan geeraa digdamaa ulfaatu sanaatti walakkaa saqilii haa
kennu. Walakkaan saqilii kunis kennaa Waaqayyoof dhi'eeffamuu dha. 14 Warra
lakkaa'aman keessaa kanneen umuriin isaanii waggaa digdama yookaan isaa oli
ta'e hundinuu Waaqayyoof kennaa haa dhi'eessan. 15 Yommuu isin lubbuu keessan
furuuf jettanii Waaqayyoof kennaa dhi'eessitanitti sooreyyiin walakkaa saqiliitii oli
hin kennin; hiyyeeyyiinis walakkaa saqiliitii gad hin kennin. 16 Maallaqa furii sanas
Israa'eloota harkaa fudhiitii tajaajila dunkaana wal ga'ii sanaa irra oolchi; kunis
lubbuu keessaniif furii ta'uuf fuula Waaqayyoo duratti yaadannoo saba Israa'el ta'a.”

### *Caabii Itti Dhiqatan*

[17] Ergasiis WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [18] "Gabatee naasii kan miilla
naasii qabu dhiqannaadhaaf tolchi. Isas dunkaana wal ga'iitii fi iddoo aarsaa gidduu
kaa'iitii bishaan itti naqi. [19] Aroonii fi ilmaan isaa bishaani sanaan harka isaaniitii
fi miilla isaanii haa dhiqatan. [20] Isaanis akka hin duuneef yeroo dunkaana wal
ga'ii seenan bishaaniin dhiqatu; akkasumas yommuu aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi'eeffamu gubuudhaaf tajaajiluuf iddoo aarsaatti dhi'aatanitti, [21] akka hin duuneef
harka isaaniitii fi miilla isaanii haa dhiqatan. Kunis dhaloota dhufu keessatti Aroonii
fi sanyii isaatiif seera dhaabataa ta'a."

### *Zayitii Ittiin Dibaman*

[22] Ergasiis WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [23] "Urgooftuuwwan urgooftuu
hunda caalan jechuunis qumbii qulqulluu saqilii 500, qarafaa urgaa'aa walakkaa
isaa jechuunis saqilii 250, marga citaa urgaa'aa saqilii 250, [24] burgudii saqilii 500 fud-
hadhu; hundi isaa iyyuu akkuma saqilii iddoo qulqulluutti haa ta'u; akkasumas zayitii
ejersaa iinii tokko fudhadhu. [25] Urgooftuuwwan kanneeniinis zayitii ittiin diban
qulqulluu isaa jechuunis makaa urgaa'aa akkuma ogeessa urgooftuu qopheessu
tokkootti tolchi. Kunis zayitii ittiin diban qulqulluu isaa ta'a. [26] Zayitii kanaanis
dunkaana wal ga'ii, taabota kakuu seeraa, [27] minjaalaa fi mi'a isaa hunda, baattuu
ibsaa fi mi'a isaa, iddoo aarsaa ixaanaa, [28] iddoo aarsaa qalma gubamuutii fi mi'a isaa
hunda, gabatee itti dhiqatanii fi miilla isaa dibi. [29] Akka isaan waan hunda caalaa
qulqulluu ta'aniif isaan qulqulleessi; wanni isaan tuqu kam iyyuus ni qulqullaa'a.
[30] "Akka isaan luboota ta'anii na tajaajilaniif Aroonii fi ilmaan isaa dibi qulqulleessi.
[31] Israa'elootaan akkana jedhi; 'Kun zayitiin qulqulluu ittiin dhaloota dhufuuf jiru
diban naaf haa ta'u. [32] Zayitii kana dhagna nama biraa irratti hin dhangalaasin
yookaan zayitii kam iyyuu karaa kanaan hin qopheessin. Zayitiin kun qulqulluu
dha; innis isiniif qulqulluu haa ta'u. [33] Namni shittoo shittoo sana fakkaatu hojjetu
kan nama biraattis dibu saba isaa keessaa haa balleeffamu.' "

### *Ixaana*

[34] WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; "Urgooftuu jechuunis hamphee urgaa'u,
elellaan urgaa'u, aannan muka urgaa'uu, ixaana makaa hin qabne kan hundi isaa
iyyuu baay'ina wal qixxee qabu fudhadhuutii, [35] akkuma namni urgooftuu qopheessu
tokko hojjetutti ixaana makamaa urgaa'u tolchi. Ixaana kanattis soogidda naqiitii
qulqulleessi; akka qulqulluu ta'us godhi. [36] Isa keessaas gartokko daakii bulleessiitii
dunkaana wal ga'ii keessa fuula taabota kakuu seeraa dura iddoo ani itti si argu
sana kaa'i. Innis kan waan hunda caalaa qulqullaa'uu isiniif haa ta'u. [37] Haala
kanaan ixaana ofii keessaniif hin qopheeffatinaa; akka inni WAAQAYYOOF qulqulluu
ta'es hubadhu. [38] Namni urgaa isaatti gammaduuf jedhee waan isa fakkaatu tokko
illee hojjetu saba ofii keessaa haa balleeffamu."

## 31

### *Bezali'eelii fi Oholiiyaab*
*31:2-6 kwf – Bau 35:30-35*

[1] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [2] "Ilaa, ani gosa Yihuudaa keessaa
Bezali'eel ilma Uuri, ilma Huuri filadheera; [3] ani Hafuura Waaqaatiin, ogummaad-
haan, dandeettii fi beekumsa hojii harkaa gosa hundumaan isa guuteera; [4] Kunis
akka inni warqeedhaan, meetii fi naasiidhaan hojii ogummaa hojjetuuf; [5] akka
inni dhagaawwan muree qopheessuuf, akka muka soofuu fi akka hojii ogummaa
harkaa kan gosa hundaa keessatti hirmaatuuf. [6] Akkasumas ani kunoo akka inni isa
gargaaruuf Oholiiyaab ilma Ahiisaamaak kan gosa Daan sana muudeera.

“Akka isaan waan ani si ajaje hunda hojjetaniif ogeeyyii hojii harkaa hundaaf
ogummaa kenneera.

7 “Isaanis dunkaana wal ga’ii,
taabota kakuu seeraatii fi teessoo araaraa kan taabota sana irra jiru,
mi’a dunkaana sanaa hunda jechuunis
8 minjaalaa fi mi’a isaa,
baattuu ibsaa kan warqee qulqulluu irraa tolfamee fi mi’a isaa hunda,
iddoo aarsaa ixaanaa,
9 iddoo aarsaa qalma gubamuutii fi mi’a isaa hunda,
gabatee itti dhiqatanii fi miilla isaa,
10 wayyaawwan miidhagfamanii dha’aman,
wayyaawwan Aroon lubichaaf qulqulleeffamanii fi
wayyaawwan ilmaan isaa yeroo lubummaadhaan tajaajilan uffatan,
11 Iddoo Qulqulluu sanaaf immoo zayitii dibataatii fi ixaana urgaa’u haa
qopheessan.

“Isaan akkuma ani si ajaje sanatti haa hojjetan.”

### *Sanbata*

12 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 13 “Saba Israa’eliin akkana jedhi; ‘Isin
Sanbattoota koo eegaa. Ani Waaqayyo isa isin qulqulleessu akkan ta’e akka beektaniif
kun dhaloota dhufu keessatti anaa fi isin gidduutti mallattoo ta’a.
14 “ ‘Waan Sanbanni isiniif qulqulluu ta’eef isa eegaa. Namni Sanbata xureessu
haa ajjeefamu; namni guyyaa sana hojii hojjetu kam iyyuu saba isaa keessaa haa
balleeffamu. 15 Guyyaa ja’a hojiin haa hojjetamu; guyyaan torbaffaan garuu sanbata
boqonnaa ti; guyyaan kun Waaqayyoof qulqulluu dha. Namni guyyaa Sanbataa hojii
hojjetu kam iyyuu haa ajjeefamu. 16 Israa’eloonni Sanbata kana kakuu bara baraa
godhatanii dhaloota dhufu keessa haa eegan. 17 Kunis anaa fi Israa’eloota gidduutti
mallattoo bara baraa ta’a; Waaqayyo guyyaa ja’a keessatti samii fi lafa uumee guyyaa
torbaffaatti boqotee aara galfateeraatii.’ ”
18 Waaqayyo akkuma Gaara Siinaa irratti Museetti dubbatee raawwateen gabatee
dhugaa lamaan jechuunis gabateewwan dhuga ba’umsaa kanneen qubni Waaqaa
irratti barreesse sana isatti kenne.

## 32

### *Jabbii Warqee Irraa Hojjetame*

1 Sabni sunis yommuu akka Museen tulluu irra ture argetti Aroonin marsee, “Musee
namicha biyya Gibxiitii baasee nu fide sana waan inni ta’e hin beeknuutii ka’ii
waaqota nu dura deeman nuu tolchi” jedhe.
2 Aroon immoo, “Warqee gurraa kan niitonni keessan, ilmaan keessanii fi intallan
keessan keeyyatan irraa baasaatii natti fidaa” jedhee deebiseef. 3 Namoonni
hundinuu warqee gurra isaanii of irraa baasanii Aroonitti fidan. 4 Innis warqee sana
isaan harkaa fuudhee mi’a ittiin hojjetaniin baqsee Waaqa tolfamaa bifa jabbiitiin
hojjetame tokko tolche; isaanis, “Yaa Israa’el isaan kunneen waaqota kee warra biyya
Gibxiitii si baasanii dha” jedhan.
5 Aroonis yommuu waan kana argetti fuula jabbii sanaa duratti iddoo aarsaa
ijaaree, “Bori Waaqayyoof ayyaanni ni ayyaaneffama” jedhee labse. 6 Isaanis guyyaa
itti aanu ganama bariin ka’anii, aarsaa gubamu dhi’eessanii aarsaa nagaas fidan.
Kana irratti nyaachuu fi dhuguuf tataa’an; sirbuufis ka’an.

7 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Sabni kee kan ati biyya Gibxiitii baaftee
fidde sun xuraa'eeraatii gad bu'i. 8 Isaan dafanii karaa ani isaan ajaje irraa
jal'ataniiru; Waaqa tolfamaa bifa jabbiitiin baqfamee qopheeffame illee ofii isaaniitiif
tolfatanii aarsaa dhi'eessaniifii, 'Yaa Israa'el isaan kunneen waaqota kee warra biyya
Gibxiitii si baasanii dha' jedhanii isa waaqeffataniiru.

9 "WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 'Kunoo, ani akka sabni kun mata jabeessa
ta'e argeera. 10 Kanaafuu akka aariin koo isaanitti boba'uu fi akka ani isaan
balleessuuf na dhiisi. Yommus ani saba guddaa si taasisa.' "

11 Museen garuu fuula gargaarsa WAAQAYYO Waaqa isaa barbaaddate; akkanas
jedhe; "Yaa WAAQAYYO, dheekkamsi kee maaliif saba kee warra ati humna guddaa
fi irree jabaadhaan biyya Gibxiitii baafte sanatti boba'a? 12 Warri Gibxii maaliif,
'Inni duruma iyyuu yaada hamaadhaan tulluuwwan irratti isaan fixuu fi lafa irraa
isaan balleessuuf Gibxii isaan baasee?' jedhu. Aarii kee boba'aa sana irraa deebi'i;
obsis; saba keettis badiisa hin fidin. 13 Garboota kee Abrahaam, Yisihaaqii fi Israa'elin
warra, 'Ani sanyii kee akka urjiiwwan samii irraa nan baay'isa; lafa ani waadaa
isaaniif seene kana hundas sanyii keessaniif nan kenna; isaanis bara baraan lafa sana
ni dhaalu' jettee maqaa keetiin kakatteef sana yaadadhu." 14 Kana irratti WAAQAYYO
yaada geeddaratee badiisa saba isaatti fiduuf ture sana dhiise.

15 Museenis gabateewwan kakuu lamaan sana harkatti qabatee deebi'ee tulluu
irraa gad bu'e. Gabatee sana irrattis karaa lachuu, duraa duubaan barreeffamee
ture. 16 Gabateewwan sanas Waaqatu hojjete; katabbiin sunis katabbii Waaqaa kan
gabateewwan sana irratti soofamee barreeffamee dha.

17 Iyyaasuunis yommuu waca namootaa dhaga'etti Museedhaan, "Iddoo buufataa
keessa sagalee waraanaatu jira" jedhe.

18 Museen immoo akkana jedhee deebise:

"Sagaleen ani dhaga'u kun
sagalee sirbaati malee sagalee moo'uu,
yookaan sagalee mo'atamuu miti."

19 Museenis akkuma iddoo qubataatti dhi'aatee jabbii fi shuubbisa sana argeen
aaree gubate; gabateewwan sana harka isaa irraa darbatee tulluu sana jalatti
caccabse. 20 Innis jabbii jarri tolchan sana fuudhee ibiddaan gube; daakee bulleessees
bishaanitti firfirsee Israa'eloota obaase.

21 Museenis Arooniin, "Sabni kun maal si goonaan ati cubbuu guddaa akkasii keessa
isaan buufte?" jedhe.

22 Aroon immoo deebisee akkana jedhe; "Yaa gooftaa ko, aartee hin gubatin; akka
sabni kun gara hamminaatti jal'atu atuu beekta. 23 Isaan, 'Musee namicha Gibxii
baasee nu fide sana waan inni ta'e hin beeknuutii waaqota nu dura deeman nuu
tolchi' naan jedhan. 24 Anis, 'Namni warqee qabu of irraa haa baasu' jedheen; isaanis
warqee sana natti kennan; anis ibidda keessa nan buuse; inni immoo jabbii ta'ee
ba'e!"

25 Museen akka sabni sun gad dhiisiitti jiraate, Aroonis akka isaan to'annaadhaan
ala ta'an akka godhee fi akka isaan diinota isaanii birattis waan kolfaa ta'an arge.
26 Kanaafuu Museen karra qubataa dura dhaabatee, "Mee warri gara WAAQAYYO
gortan hundi gara koo kottaa" jedhe. Lewwonni hundis isa biratti walitti qabaman.

27 Ergasii inni akkana isaaniin jedhe; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha;
'Tokkoon tokkoon namaa mudhii isaatti goraadee haa hidhatu; tokkoon tokkoon
namaas qubata sana keessa karra tokko irraa gara karra kaaniitti asii fi achi deemee
obboloota isaa, michoota isaatii fi ollaa isaa haa ajjeesu.' " 28 Lewwonnis akkuma
Museen isaan ajaje godhan; guyyaa sana saba sana keessaa nama gara kuma sadiitu

du’e. 29 Museenis, “Isin waan ilmaan keessanii fi obboloota keessanitti kaataniif har’a
WAAQAYYOOF addaan baafamtaniirtu; innis guyyaa har’aa isin eebbiseera” jedhe.

30 Museen guyyaa itti aanutti saba sanaan, “Isin cubbuu guddaa hojjettaniirtu.
Garuu ani amma gara WAAQAYYOOTTI ol nan ba’a; tarii ani cubbuu keessaniif araara
nan buusa ta’a” jedhe.

31 Museenis deebi’ee gara WAAQAYYOO dhaqee akkana jedhe; “Wayyoo! Sabni kun
cubbuu akkam guddaa hojjete! Isaan ofii isaaniitiif waaqota warqee tolfataniiru.
32 Ta’us maaloo amma cubbuu isaanii dhiisiif; yoo kanaa achi kitaaba barreessite
sana keessaa maqaa koo haqi.”

33 WAAQAYYO immoo Museedhaan akkana jedhe; “Ani nama cubbuu natti hojjete
kitaaba koo irraa nan haqa. 34 Amma ka’iitii gara lafa ani sitti hime sanaatti saba
kana qajeelchi; kunoo ergamaan koos fuula kee dura ni deema. Garuu gaafa yeroon
ani isaan adabu ga’utti ani cubbuu isaaniitiif isaan nan adaba.”

35 Sababii balleessaa isaan jabbii Aroon tolche sanaan hojjetaniitiif WAAQAYYO
balaadhaan saba sana dha’e.

# 33

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Atii fi sabni ati biyya Gibxiitii baaftee
fidde kun asii ba’aatii gara biyya ani Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif, ‘Ani sanyii
keetiif nan kenna’ jedhee kakadhe sanaa dhaqaa. 2 Ani ergamaa koo fuula kee duraan
ergee Kana’aanota, Amoorota, Heetota, Feerzota, Hiiwotaa fi Yebuusota ari’ee nan
baasa. 3 Gara biyya aannanii fi dammi keessaa burquu dhaqi. Garuu waan ati saba
mata jabeessa taateef ani akka karaatti si hin balleessineef si wajjin hin deemu.”

4 Jarri yommuu oduu hamaa kana dhaga’anitti gadduu jalqaban; isaan keessaas
namni tokko iyyuu faaya tokko illee hin kaa’anne. 5 WAAQAYYO Museedhaan akkana
jedheeraatii; “Saba Israa’eliin akkana jedhi; ‘Isin saba mata jabeeyyii dha. Ani
utuu yeruma muraasa illee isin wajjin deemee silaa isin balleessa ture; isin amma
faayawwan keessan of irraa baasaa; anis waanan isin godhu nan murteessaa.’ ”
6 Kanaafuu Israa’eloonni Gaara Kooreeb biratti faayawwan isaanii of irraa baasan.

### *Dunkaana Wal ga’ii*

7 Museen dunkaana tokko fuudhee iddoo qubataa sana keessaa baasee achi
fageessee dhaaba ture; dunkaana sanas, “dunkaana wal ga’ii” jedhee moggaase.
Namni WAAQAYYOON barbaadatu hundinuu iddoo qubataa sana keessaa ba’ee gara
dunkaana wal ga’ii sanaa dhaqa ture. 8 Yeroo Museen ba’ee gara dunkaana sanaa
dhaqu hunda sabni hundinuu ka’ee balbala dunkaana ofii isaa dura dhaabatee
hamma inni dunkaanicha seenutti ilaala ture. 9 Yeroo Museen dunkaana sana
seenutti utubaan duumessaa gad bu’ee balbala dunkaanichaa dura dhaabata ture;
WAAQAYYOS Musee wajjin dubbata ture. 10 Sabni yeroo utubaa duumessaa kan
balbala dunkaanaa dura dhaabatu argutti hundi isaa ol ka’ee tokkoon tokkoon namaa
dunkaana ofii isaa duratti sagada ture. 11 WAAQAYYOS akkuma nama michuu isaa
wajjin haasa’u tokkootti ifumaan ifatti Museetti dubbachaa ture. Ergasiis Museen
iddoo qubataatti deebi’a ture; gargaaraan isaa, Iyyaasuun ilmi Nuuni dargaggeessi
suni garuu dunkaana sana biraa hin deemu ture.

### *Musee fi Ulfina WAAQAYYOO*

12 Museen WAAQAYYOON akkana jedhe; “Ilaa, ati, ‘saba kana dura bu’ii baasi’
naan jetteerta; garuu ana wajjin eenyun akka ergitu na hin beeksifne. Ati, ‘Ani
maqaadhaan si beeka; ati na biratti fudhatama argateerta’ jette. 13 Ammas ani fuula
kee duratti surraa argadhee yoon jiraadhe, akka ani si beekuu fi akka ani fuula

kee duratti surraa argadhuuf karaa kee na barsiisi; akka sabni kun saba kee ta'es
yaadadhu."
14 WAAQAYYOs deebisee, "Ani si wajjin nan deema; boqonnaas siifin kenna" jedhe.
15 Museen immoo akkana jedheen; "Yoo ati nu wajjin deemuu baate, asii nu hin
baasin. 16 Ati nu wajjin deemuu baannaan namni akkamiin akka ati anaa fi saba
keetti gammaddu beeka? Wanni anaa fi saba kee saboota lafa irraa kaan hunda irraa
addaan baasu biraa maali ree?"
17 WAAQAYYO immoo Museedhaan, "Ani waan ati amma kadhatte kana nan godha;
ati fuula koo duratti ayyaana argatteertaatii; anis maqaadhaan si beeka" jedhe.
18 Museenis, "Maaloo ulfina kee na argisiisi" jedhe.
19 WAAQAYYO immoo akkana jedhe; "Ani gaarummaa koo hundumaa fuula kee dura
nan dabarsa; maqaa WAAQAYYOo fuula kee duratti nan labsa. Ani kanan maaru nan
maara; kanan garaa laafuufiis garaa nan laafa. 20 Garuu waan namni fuula koo argee
jiraachuu hin dandeenyeef ati fuula koo arguu hin dandeessu."
21 Ergasiis WAAQAYYO akkana jedhe; "Kunoo as na bira iddoon ati kattaa irra
dhaabachuu dandeessu jira. 22 Ani yeroo ulfinni koo darbuutti jiru holqa kattaa
keessa si kaa'ee hamma ani darbutti harka kootiin si da'eessa. 23 Ergasiis ani harka
koo nan fudhadha; atis dugda koo ni argita; fuulli koo garuu argamuu hin qabu."

# 34

*Gabateewwan Dhagaa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Gabateewwan dhagaa lama akkuma
kanneen duraa sanaatti soofi; anis dubbii gabateewwan ati caccabsite sana irra turan
isaan irratti nan barreessa. 2 Atis ganamaan qophaayiitii Tulluu Siinaatti ol ba'i.
Achitti, fiixee tulluu sanaa irratti fuula koo duratti of dhi'eessi. 3 Namni tokko iyyuu
si wajjin hin dhufin yookaan tulluu sana irratti eessumattuu hin mul'atin. Bushaayee
fi loon iyyuu fuula tulluu sanaa duratti hin bobba'in."
4 Museenis gabateewwan dhagaa lama akkuma kanneen jalqabaatti soofe; innis
gabateewwan lamaanis harkatti qabatee akkuma WAAQAYYO isa ajajetti ganama
bariin Tulluu Siinaatti ol ba'e. 5 WAAQAYYO duumessaan gad bu'ee isa wajjin achi
dhaabate; maqaa WAAQAYYOOs ni labse. 6 Waaqayyo fuula Musee dura darbee akkana
jedhee labse; "WAAQAYYO, WAAQAYYO Waaqa gara laafessaa fi arjaa, kan dafee hin
aarre, kan jaalallii fi amanamummaan isaa guddaa, 7 kan araara isaa dhaloota
kumaatamaaf tursu, kan hammina, fincilaa fi cubbuu namaaf dhiisuu dha. Ta'u illee
inni nama yakka hojjetu adabu malee hin dhiisu; inni hamma dhaloota sadaffaa
fi afuraffaatti sababii cubbuu abbootii isaaniitiif jedhee ijoollee isaaniitii fi ijoollee
ijoollee isaanii ni adaba."
8 Museen yommuu suma lafatti gad jedhee sagade. 9 Innis, "Yaa Gooftaa, yoo ani
fuula kee duratti ayyaana argadhee jiraadhe, Gooftaan nu wajjin haa deemu. Yoo
sabni kun saba mata jabeessa ta'e illee hammina keenyaa fi cubbuu keenya nuu
dhiisi; dhaala kees nu godhadhu" jedhe.
10 Kana irratti WAAQAYYO akkana jedhe; "Kunoo ani si wajjin kakuu nan gala. Ani
fuula saba kee hundaa duratti dinqiiwwan kanaan dura saba kam iyyuu keessatti,
addunyaa hunda keessatti takkumaa hin hojjetamin nan hojjedha. Sabni ati keessa
jiraattus akka hojiin ani WAAQAYYO siif hojjedhu hammam sodaachisaa ta'e ni arga.
11 Waan ani har'a si ajajuuf ajajami. Anis Amoorota, Kana'aanota, Heetota, Feerzota,
Hiiwotaa fi Yebuusota fuula kee duraa ari'ee nan baasa. 12 Akka warra biyya ati
itti galuuf deemtu sana keessa jiraatan wajjin kakuu hin galleef of eeggadhu; yoo
kanaa achii isaan kiyyoo sitti ta'u. 13 Iddoowwan aarsaa isaanii diigaa; siidaawwan
waaqeffannaa isaanii caccabsaa; utubaawwan Aasheeraa isaaniis jijjigsaa. 14 Sababii

Waaqayyo maqaan isaa Hinaafaa jedhamu sun Waaqa hinaafu ta’eef ati Waaqa biraa
hin waaqeffatin.
15 “Ati akka warra biyya sana keessa jiraatan wajjin kakuu hin galleef of eeggadhu.
Sababiin isaa isaan yommuu waaqota isaanii wajjin sagaagalanii fi yommuu waaqota
isaaniitiif aarsaa dhi’eessanitti si waamu; atis aarsaa isaanii ni nyaatta. 16 Yeroo
ati ilmaan kee intallan isaanii fuusiftee, intallan isaanii sun waaqota isaanii wajjin
sagaagalanitti isaan akka ilmaan kees akkuma isaanii sagaagalan godhu.
17 “Waaqota tolfamoo baqfamanii hojjetaman hin tolfatin.
18 “Ayyaana Maxinoo ayyaaneffadhu. Ati sababii ji’a Abiibii keessa Gibxii baateef
akkuma ani si ajaje sanatti ji’a Abiibii keessa yeroo murteeffametti bultii torba
Maxinoo nyaadhu.
19 “Kan jalqabatti gadameessa saaqee ba’u hundi kan koo ti; kormi horii keetii
hangafni jechuunis kormi looniitii fi kormi hoolotaa hangafni koo ti. 20 Harree
hangafa xobbaallaa hoolaatiin furi; yoo furuu baatte immoo morma isaa cabsi.
Ilmaan kee hangafa hundas furi.
“Namni tokko iyyuu harka duwwaa fuula koo duratti hin dhi’aatin.
21 “Guyyaa ja’a hojii hojjedhu; guyyaa torbaffaatti garuu boqodhu. Yeroo qonnaatii
fi yeroo midhaan galfamutti boqodhu.
22 “Mataa qamadii jalqabaa irratti Ayyaana Torbanootaa ayyaaneffadhu; dhuma
waggaa irratti immoo ayyaana galchaa midhaanii ayyaaneffadhu. 23 Dhiirri kee
hundi waggaatti yeroo sadii fuula Waaqayyo Gooftaa, fuula Waaqa Israa’el duratti
haa dhi’aatan. 24 Ani Namoota Ormaa si duraa ari’ee nan baasa; daangaa kee
nan bal’isa; yoo ati waggaatti yeroo sadii Waaqayyo Waaqa kee duratti dhi’aachuu
dhaqxus namni tokko iyyuu biyya kee fudhachuu hin hawwu.
25 “Dhiiga aarsaa waan raacitii qabu wajjin naa hin dhi’eessin; qalmi Ayyaana
Faasiikaa irraa hafus hamma bariitti hin turin.
26 “Mataa midhaan lafa keetii keessaa filatamaa isaa gara mana Waaqayyo Waaqa
keetii fidi.
“Ilmoo re’ee aannan haadha isheetiin hin affeelin.”
27 Waaqayyos Museedhaan, “Dubbii kana barreessi; ani akkuma dubbii kanaatti
si’ii fi saba Israa’el wajjin kakuu galeeraatii” jedhe. 28 Museenis utuu buddeena
hin nyaatin yookaan utuu bishaan hin dhugin guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama
Waaqayyo bira achi ture. Innis dubbii kakuu sana jechuunis Ajajawwan Kurnan
gabateewwan sana irratti barreesse.

*Calaqqisuu Fuula Musee*

29 Museen gabateewwan Dhuga ba’umsaa lamaan sana harkatti qabatee Tulluu
Siinaa irraa gad bu’e; innis sababii Waaqayyo wajjin dubbachaa tureef akka fuulli
isaa calaqqisu hin beekne ture. 30 Yommuu Aroonii fi sabni Israa’el hundi Musee
arganitti kunoo, fuulli isaa calaqqisaa ture; isaanis isatti dhi’aachuu sodaatan.
31 Museen garuu isaan waame; Aroonii fi bulchitoonni hawaasichaa hundinuus gara
isaatti deebi’an; innis isaanitti dubbate. 32 Sabni Israa’el hundi isatti dhi’aate; innis
waan Waaqayyo Gaara Siinaa irratti isatti dubbate hunda isaan ajaje.
33 Museen yommuu isaanitti dubbatee fixatetti fuula isaa haguuggate. 34 Yommuu
Waaqayyo wajjin dubbachuudhaaf fuula isaa duratti ol seenu garuu hamma achii
ba’utti haguuggii sana of irraa fuudha ture. Yommuu inni achii ba’ee waan ajajame
sana saba Israa’elitti himutti, 35 isaan akka fuulli isaa calaqqisu argan. Ergasii Museen
hamma Waaqayyo wajjin dubbachuuf ol galutti fuula isaa deebisee haguuggata ture.

# 35

*Sirna Sanbataa*

1 Museen waldaa Israa'el guutuu walitti qabee akkana jedheen; "Wanni WAAQAYYO
akka isin hojjettan isin ajaje kana: 2 Guyyaa ja'a hojiin haa hojjetamu; guyyaan torbaf-
faan garuu isiniif guyyaa qulqulluu dha; WAAQAYYOOF immoo sanbata boqonnaa ta'a.
Namni guyyaa kana hojii hojjetu kam iyyuu haa ajjeefamu. 3 Guyyaa Sanbataatiin
lafa jiraattan kamitti iyyuu ibidda hin qabsiisinaa."

*Mi'a Dunkaana Qulqulluu*
*35:4-9 kwf – Bau 25:1-7*
*35:10-19 kwf – Bau 39:32-41*

4 Museenis waldaa Israa'el guutuudhaan akkana jedhe; "Wanni WAAQAYYO ajaje
kana: 5 Waan qabdan irraa WAAQAYYOOF kennaa dhi'eessaa. Namni fedhii qabu
hundinuu:

"kennaa warqee, meetii fi naasii WAAQAYYOOF haa fidu.
6 Kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa gaarii,
rifeensa re'ee,
7 gogaa korbeessa hoolaa kan halluu diimaa cuuphamee fi gogaa duugame,
muka laaftoo,
8 ibsaadhaaf zayitii ejersaa,
zayitii ittiin dibanii fi ixaana urgaa'uuf immoo urgooftuuwwan,
9 dhagaawwan sardooniksii, dooqa gati jabeessa, dirataa fi qomee irratti kaa'atamu kan biraa haa fidu.

10 "Isin keessaa namoonni ogeeyyiin hundi dhufanii waan WAAQAYYO ajaje hunda
haa hojjetan:

11 "Kunis dunkaana qulqulluu dunkaana isaatii fi irra buusaa isaa wajjin, hokkoowwan isaa, tuggee isaa, dagalee isaa, utubaa isaa, miilla isaa,
12 taabota danqaraa isaa wajjin, teessoo araaraatii fi golgaa isa dhoksus,
13 minjaala danqaraa isaatii fi mi'a isaa hunda wajjin, buddeena ilaalchaa;
14 baattuu ibsaa kan ifaaf ta'u mi'a isaa wajjin, ifa sanaafis ibsaa fi zayitii,
15 iddoo aarsaa ixaanaa danqaraa isaa wajjin, zayitii ittiin dibanii fi ixaana urgaa'u,
karra ittiin dunkaana qulqulluu seenaniifis golgaa balbalaa,
16 iddoo aarsaa kan qalma gubamuu gingilchaa isaa kan naasii irraa hojjetame wajjin, danqaraawwan isaatii fi mi'a isaa hunda,
caabii naasii miilla isaa wajjin,
17 golgaawwan oobdii utubaawwanii fi miillawwan isaanii wajjin, golgaa karra oobdii sanaa,
18 dunkaana qulqulluu fi qofoowwan oobdii dunkaana qulqulluutii fi funyoowwan isaanii,
19 wayyaawwan fo'amanii dha'aman kanneen isaan yeroo iddoo qulqulluu keessa tajaajilan uffataman jechuunis wayyaawwan Aroon lubichaaf qulqulleeffamanii fi wayyaawwan ilmaan isaa yeroo lubummaadhaan tajaajilanitti uffatan haa hojjetan."

20 Ergasiis hawaasni Israa'el guutuun Musee biraa ba'anii deeman; 21 namni fedhii
qabuu fi namni yaadni isaa isa kakaase hundi dhufee hojii dunkaana wal ga'ii
sanaatiif, tajaajila isaa hundaa fi hojii wayyaawwan qulqulluu sanaatiif kennaa
WAAQAYYOOF fide. 22 Dhiirrii fi dubartiin fedhii qaban hundi mi'a warqee irraa
hojjetame kanneen gosa gosaa fidan; bitawoo, lootii, qubeelaa fi faaya fidan. Hundi
isaanii iyyuu warqee isaanii aarsaa sochoofamu godhanii WAAQAYYOOF dhi'eessan.

23 Namni kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee yookaan bildiimaa yookaan quncee talbaa
ba’eessa yookaan rifeensa re’ee, kaldhee korbeessa hoolaa kan halluu diimaa
cuuphamee fi gogaa duugame qabu hundi ni fide. 24 Warri kennaa meetii yookaan
naasii dhi’eessan kennaa WAAQAYYOOF dhi’eeffamu godhanii fidan. Namni muka
laaftoo kan qooda hojii sanaa kamiif iyyuu ta’u qabu hundas ni fide. 25 Dubartoonni
ogeeyyiin hundis harkaan fo’anii kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee
talbaa ba’eessa fo’an sana fidan. 26 Dubartoonni fedhii fi ogummaa qaban hundinuus
rifeensa re’ee fo’an. 27 Bulchitoonni dhagaawwan sardooniksii fi dhagaawwan gati
jabeeyyii biraa dirataa fi kiisii qomaatti akka kaa’atamuuf fidan. 28 Akkasumas
urgooftuu fi zayitii ibsaadhaaf, zayitii ittiin dibanii fi ixaana urgaa’us fidan.
29 Dhiironnii fi dubartoonni Israa’el warri fedhii qaban hundi hojii akka isaan
hojjetaniif WAAQAYYO karaa Museetiin isaan ajaje sana hundaaf fedhii isaaniitiin
WAAQAYYOOF kennaa fidan.

*Bezali’eelii fi Oholiiyaab*
*35:30-35 kwf – Bau 31:2-6*

30 Yommus Museen saba Israa’eliin akkana jedhe; “Ilaa WAAQAYYO gosa Yihuudaa
keessaa Bezali’eel ilma Uuri ilma Huuri filateera; 31 Hafuura Waaqaatiin, ogummaad-
haan, dandeettii fi beekumsa hojii harkaa gosa hundumaan isa guuteera. 32 Kunis
akka inni warqeedhaan, meetii fi naasiidhaan hojii ogummaa hojjetuuf, 33 akka
dhagaawwan muree qopheessuuf, akka muka soofuu fi akka hojii ogummaa harkaa
kan gosa hundaa keessatti hirmaatuuf. 34 Waaqnis Bezali’eelii fi Oholiiyaab ilma
Ahiisaamaak kan gosa Daan sanaaf dandeettii isaan ittiin warra kaan barsiisan
kenne. 35 Akka isaan ogeeyyii hojii harkaa, bifa baastotaa fi warra kirrii bifa
cuquliisaatiin, dhiilgeen, bildiimaa fi quncee talbaa ba’eessaan miidhagsanii fi
wayyaa dhooftota hundi isaanii ogeeyyii hojii harkaatii fi bifa baastota ta’aniif
ogummaa hojii gosa hundaa hojjechuutiin isaan guute.

# 36

1 Bezali’eel, Oholiiyaabii fi namni WAAQAYYO ogummaa fi dandeettii isaan ittiin
hojii ijaarsa iddoo qulqulluu sanaa hunda beekan kenneef hundi akkuma WAAQAYYO
ajajetti hojii kana haa hojjetan.”
2 Museen Bezali’eel, Oholiiyaabii fi ogeessa WAAQAYYO dandeettii kenneef kan
dhufee hojii sana hojjechuuf fedhii qabu hunda waame. 3 Isaanis kennaawwan
Israa’eloonni ijaarsa iddoo qulqulluu sanaatiif jedhanii fidan hunda Musee harkaa
fuudhan. Namoonni Israa’elis fedhii isaaniitiin ganama ganama kennaa isaanii fiduu
itti fufan. 4 Ogeeyyiin hojii harkaa kanneen iddoo qulqulluu sana hojjetan hundi
hojii isaanii dhiisanii dhufanii 5 Museedhaan, “Sabni kun waan hojii WAAQAYYO akka
hojjetamuuf ajaje sanaaf barbaachisu caalaa fidaa jira” jedhan.
6 Museenis ajaja kenne; isaanis, “Dhiirri yookaan dubartiin tokko iyyuu waan
biraa tokko illee kennaa godhee iddoo qulqulluu sanaaf hin dhi’eessin” jedhanii
iddoo qubataa sana keessatti labsan. Kanaafuu namoonni itti fufanii waa fiduu
dhowwaman. 7 Wanti isaan duraanuu qaban hojii hunda hojjechuuf ga’aa fi irraa
hafaa tureetii.

*Dunkaana Qulqulluu*
*36:8-38 kwf – Bau 26:1-37*

8 Hojjettoota sana keessaas ogeeyyiin hundi golgaawwan kudhan kanneen quncee
talbaa gaarii fo’amee fi kan kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee fi bildiimaa irraa
hojjetamaniin dunkaana qulqulluu haa hojjetan; golgaawwan sana irrattis ogeeyyiin
harka qajeelan kiirubeelii hojjetan. 9 Golgaawwan sun hundinuu wal qixxee

ta’anii tokkoon tokkoon isaanii dheerina dhundhuma digdamii saddeetiitii fi bal’ina
dhundhuma afur qabu ture. 10 Isaanis golgaawwan shan walitti qabsiisan; shanan
kaan illee akkasuma walitti qabsiisan. 11 Isaanis golgaawwan walitti qabsiifaman
kanneen jalqabaa keessaa handaara isa moggaa irratti huccuu bifa cuquliisaa irraa
gurroowwan tolchan; golgaawwan walitti qabsiifaman lammaffaa irrattis akkasuma
tolfaman. 12 Isaanis golgaa tokko irratti gurroowwan shantama tolchan; gurroowwan
shantama immoo golgaawwan walitti qabsiifaman lammaffaa keessaa isa moggaa
irratti tolchan; gurroowwan sunis gamaa gamanaan turan. 13 Akka dunkaanni
qulqulluun sun tokko ta’uufis hokkoowwan warqee shantama tolchanii golgaawwan
sana ittiin walitti qabsiisan.

14 Isaanis haguuggii gubbaa dunkaana qulqulluu sanaa irra jiru haguuguuf
golgaawwan rifeensa re’ee kudha tokko hojjetan. 15 Golgaawwan kudha tokkoon
sun hundi wal qixxee turan; dheerinni isaanii dhundhuma soddoma, bal’inni isaanii
immoo dhundhuma afur ture. 16 Isaanis golgaawwan shan iddoo tokkotti walitti
qabsiisan; golgaawwan kaan ja’aan immoo iddoo tokkotti walitti qabsiisan. 17 Ergasiis
golgaawwan gama tokkoon walitti qabsiifaman keessaa handaara isa moggaa irratti
gurroowwan shantama tolchan; golgaawwan gama kaan irratti walitti qabsiifaman
keessaas handaara isa moggaa irratti gurroowwan shantama tolchan. 18 Akka
dunkaanni sun tokko ta’uuf ittiin walitti qabsiisuuf qabduuwwan naasii shantama
tolchan. 19 Dunkaana sanaafis irra buusaa kaldhee korbeessa hoolaa kan halluu
diimaa cuuphame, isa irraan immoo irra buusaa gogaa duugamee hojjetan.

20 Dunkaana qulqulluu sanaafis muka laaftoo irraa tuggeewwan qaqqajeeloo
hojjetan. 21 Dheerinni tokkoo tokkoo tuggeewwan sanaas dhundhuma kudhan,
bal’inni isaa immoo dhundhuma tokkoo fi walakkaa ture. 22 Tokkoon tokkoon
tuggeewwan sanaas akka wal keessa galuu danda’uuf mucha lama lama qaba
ture. Tuggeewwan dunkaana qulqulluu sanaa hunda akkasitti tolchan. 23 Gama
kibba dunkaana qulqulluu sanaatiifis tuggeewwan digdama hojjetan; 24 tuggeewwan
digdamman sana jalatti miilla meetii afurtama jechuunis tuggee tokko jalatti miilla
lama gurra isaa lamaaniif, tuggee kaan jalattis miilla lama gurra isaa lamaaniif
tolchan. 25 Gama dunkaana qulqulluu sanaa kaaniifis karaa kaabaatiin tuggeewwan
digdama tolchan. 26 Isaaniifis miilla meetiis afurtama jechuunis tuggee tokko jalatti
miilla lama, tuggee kaan jalattis miilla lama tolchan. 27 Karaa lixa biiftuutiin, dugda
duuba dunkaana qulqulluu sanaatiif tuggee ja’a hojjetan. 28 Karaa dugda duubaas
golee dunkaana qulqulluu sanaatiif utubaa lama tolchan. 29 Tuggeewwan golee
kunneen jalaa hamma gubbaatti walitti fayyifamanii bantii irratti qubeelaa tokkoon
walitti qabsiifaman; tuggeewwan golee lamaaniis akkanuma hojjetan. 30 Kanaafuu
tuggeewwan saddeeti kanneen miilla meetii kudha ja’a qabanitu ture; tokkoon
tokkoon tuggee sanaas miilla lama lama qaba ture.

31 Akkasumas muka laaftoo irraa dagaleewwan tolchan; tuggeewwan dunkaana
qulqulluu sana irra gama tokkoon jiraniif dagaleewwan shan, 32 tuggeewwan gama
kaaniin jiraniif shan, tuggeewwan dugda duubaan karaa lixa biiftuutiin jiraniif
immoo dagaleewwan shan tolchan. 33 Dagalee walakkaa jiru sana akka inni
gidduu tuggeewwaniitiin moggaa tokkoo hamma moggaa kaaniitti fulla’u godhan.
34 Tuggeewwan sanaattis warqee dibanii akka dagaleewwan baataniif qubeelaawwan
warqee itti tolchan. Dagaleewwan sanaattis akkasuma warqee uffisan.

35 Isaanis kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa haphii irraa
golgaa tolchan; golgaa kana irrattis ogeessi harka qajeelu tokko fakkii kiirubeelii
tolche. 36 Golgaa sanaafis utubaawwan muka laaftoo afur tolchanii warqee itti
uffisan; utubaa sanaafis hokkoowwan warqee hojjetanii miilla meetii afur itti tolchan.
37 Isaanis balbala dunkaanichaatiif golgaa kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi

quncee talbaa kan qal'ifamee fo'amee harkaan irratti hodhame tokko faayessanii
tolchan. 38 Isaanis utuboota hokkoo qaban shan hojjetanii, fiixee fi somaawwan
utubootaatti warqee uffisan; miilla isaanii shananis naasii irraa tolchan.

# 37

*Taabota*
*37:1-9 kwf – Bau 25:10-20*

1 Bezali'eel muka laaftoo irraa taabota tolche; taabonni sunis dhundhuma lamaa
fi walakkaa dheerata; dhundhuma tokkoo fi walakkaa bal'ata; dhundhuma tokkoo fi
walakkaa ol dheerata ture. 2 Innis keessaa fi duuba isaatti warqee qulqulluu uffise;
naannoo isaattis marsaa faaya warqee naannessee tolche. 3 Qubeelaa warqee afur
tolcheefii miilla isaa afranitti qabsiise; qubeelaa lama gama tokkoon, qubeelaa kaan
immoo gama kaaniin itti kaa'e. 4 Ergasiis muka laaftoo irraa danqaraawwan tolchee
warqee itti uffise. 5 Innis taabota sana ittiin baachuudhaaf danqaraawwan sana
qubeelaawwan keessa loose.
6 Innis warqee qulqulluu irraa teessoo araaraa tolche; teessoon sunis dheerina
dhundhuma lamaa fi walakkaa fi bal'ina dhundhuma tokkoo fi walakkaa qaba ture.
7 Moggaa lamaan teessoo araaraa irratti warqee tumame irraa Kiirubeelii lama tolche.
8 Innis Kiirubii tokko moggaa tokko irratti, Kiirubii lammaffaa moggaa kaan irratti
tolche; kiirubeelii lamaan sana moggaa teessoo araaraa lamaan irratti teessoo araaraa
wajjin mukuma tokko irraa tolche. 9 Kiirubeeliin sun qoochoo isaanii ol bal'ifatanii
teessoo araaraa sanatti gaaddiseessu turan. Kiirubeeliin kunneen fuula isaanii walitti
garagalfatanii gara teessoo araaraa ilaalu turan.

*Minjaala*
*37:10-16 kwf – Bau 25:23-29*

10 Isaanis muka laaftoo irraa minjaala dalga dheerinni isaa dhundhuma lama,
bal'inni isaa dhundhuma tokko, ol dheerinni isaa dhundhuma tokkoo fi walakkaa
tolchan. 11 Isaanis warqee qulqulluu itti uffisanii naannoo isaatti marsaa warqee
tolchan. 12 Naannoo isaa irrattis hidhii hamma bal'ina harkaa ga'uu fi faaya
warqee tolchan. 13 Isaanis qubeelaa warqee afur minjaala sanaaf hojjetanii
iddoo miilli afran turetti goleewwan afranitti qabsiisan. 14 Qubeelaawwan sunis
akka danqaraa minjaalli sun ittiin baatamu qabaniif xiyyoo sanatti dhi'eeffamanii
kaa'aman. 15 Danqaraawwan minjaalli ittiin baatamu sun muka laaftoo irraa
hojjetamanii warqeen itti uffifamee ture. 16 Mi'oota minjaala sana irra kaa'aman
jechuunis caabiiwwan isaa, waciitiiwwan isaa, waciitiiwwan isaatii fi okkoteewwan
isaa kanneen ittiin dhibaayyuu dhibaafatan warqee qulqulluu irraa tolchan.

*Baattuu Ibsaa*
*37:17-24 kwf – Bau 25:31-39*

17 Baattuu ibsaa, somaa isaatii fi damee isaa wajjin warqee qulqulluu irraa tumanii
tolchan; waciitii isaa, hudhaa isaatii fi daraaraa isaa illee warqeedhuma tokko irraa
tolchan. 18 Bitaa mirga baattuu ibsaa sana keessaas dameewwan ja'a jechuunis
sadii gama tokkoon sadii immoo gama kaaniin baafaman. 19 Xoofoowwan lawuzii
fakkaatan kanneen tokkoon tokkoon isaanii hudhaa fi daraaraa qaban sadii damee
tokko irratti, waciitiiwwan lawuzii fakkaatan kanneen tokkoon tokkoon isaanii
hudhaa fi daraaraa qaban sadii immoo damee kaan irratti tolchan. Dameewwan
ja'aan baattuu ibsaa irraa babba'an hunda irrattis akkasuma tolchan. 20 Xoofoowwan
hudhaa fi daraaraa qaban kanneen bifa lawuziitiin tolfaman afur baattuu ibsaa
sana irra turan. 21 Hudhaan tokko cimdii jalqabaa kan dameewwan baattuu
ibsaa irraa babba'an jala, hudhaan lammaffaan cimdii lammaffaa jala, hudhaan

sadaffaan immoo cimdii sadaffaa jala ture; walumaa galatti dameewwan ja'atu ture.
22 Hudhaawwanii fi dameewwan hundinuu baattuu ibsaa sana wajjin warqeedhuma
qulqulluu tumame tokko irraa tolfaman.
23 Ibsaa torban sana, waan ittiin daaraa isaa dhadha'anii fi baattuu daaraa sana
baattu illee warqee qulqulluu irraa tolchan. 24 Baattuu ibsaatii fi mi'a isaa hunda
warqee qulqulluu taalaantii tokko irraa tolchan.

### *Iddoo Aarsaa Ixaanaa*
*37:25-28 kwf – Bau 30:1-5*

25 Isaanis muka laaftoo irraa iddoo aarsaa ixaanaa tolchan; iddoon aarsaa
kunis dalga dheerina dhundhuma tokko, bal'ina dhundhuma tokkoo fi ol dheerina
dhundhuma lamaa qabaatee gama afraniinuu wal qixxee ture. Gaanfawwan isaas
iddoo aarsaa sanaan walumatti hojjetaman. 26 Isaanis gubbaa isaa irra, cinaacha
isaa hundumaa fi gaanfawwan isaatti warqee qulqulluu uffisanii naannoo isaatti
marsaa warqee naannessanii tolchan. 27 Iddoo aarsaa sanaafis marsaawwan warqee
isaatii gaditti qubeelaawwan warqee lama tolchan; qubeelaawwan kanas akka isaan
danqaraawwan ittiin iddoo aarsaa baatan qabataniif gamaa gamanaan cinaacha
lamaanitti tolchan. 28 Isaanis danqaraawwan muka laaftoo tolchanii warqee itti
uffisan.
29 Akkasumas akkuma ogeessa urgooftuu qopheessu tokkootti zayitii ittiin diban
qulqulluu fi ixaana urgaa'aa makaa hin qabne tolchan.

# 38

### *Iddoo Aarsaa Qalma Gubamuu*
*38:1-7 kwf – Bau 27:1-8*

1 Isaanis muka laaftoo irraa iddoo aarsaa qalma gubamuu kan dhundhuma sadii
ol dheeratu ijaaran; iddoon aarsaa kunis dheerina dhundhuma shanii fi bal'ina
dhundhuma shanii qabaatee gama afraniinuu wal qixxee ture. 2 Tokkoo tokkoo
goleewwan afraniitti gaanfa tolchan; gaanfaa fi iddoo aarsaa sana mukuma tokko
irraa tolchan; iddoo aarsaa sana irrattis naasii uffisan. 3 Isaanis mi'a isaa hunda
jechuunis waan ittiin daaraa haran, waan ittiin daaraa hammaaran, waciitii, hokkoo
fooniitii fi baattuu ibiddaa naasii irraa tolchan. 4 Iddoo aarsaa sanaafis naasii wal
keessa xaxameen gingilchaa hojjetanii akka inni hamma walakkaa iddoo aarsaatti
ol ba'ee marsaa isaa jalaan jiraatu godhan. 5 Akka isaan danqaraawwan qa-
bataniifis goleewwan gingilchaa naasii sanaa afraniif qubeelaawwan naasii hojjetan.
6 Danqaraawwan muka laaftoos tolchanii naasii itti uffisan. 7 Iddoo aarsaa sana ittiin
baachuufis danqaraawwan sana qubeelaawwan gamaa gamanaan iddoo aarsaa irra
jiran keessa galchan. Iddoo aarsaa sanas keessa isaa duwwaa godhanii saanqaa irraa
tolchan.

### *Gabatee Itti Dhiqatan*

8 Isaanis gabatee itti dhiqatan kan naasii miilla isaa kan naasii irraa hojjetame
wajjin of ilaaleewwan dubartoota balbala dunkaana wal ga'ii dura tajaajilanii irraa
tolchan.

### *Oobdii*
*38:9-20 kwf – Bau 27:9-19*

9 Kanatti aansanii oobdii tolchan. Oobdichis gama kibbaatiin dhundhuma dhibba
tokko dheeratee golgaa quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ame irraa hojjetames qaba
ture; 10 utubaawwan digdamaa fi miilla naasii digdama qaba ture; utubaawwan
kunneenis hokkoowwanii fi somaawwan meetii irraa hojjetaman qabu ture. 11 Gama
kaabaatiinis akkasuma dhundhuma dhibba tokko dheeratee utubaawwan digdamaa

fi miilla naasii digdama qaba ture; utubaawwan sunis hokkoowwanii fi somaawwan
meetii irraa tolfaman qabu turan.
12 Gama lixaatiin dhundhuma shantama bal'atee golgaawwan utubaa kudhanii
fi miilla kudhan qaba ture; hokkoowwanii fi somaawwan utuboota sanaas meetii
irraa hojjetaman. 13 Fiixee ba'aatiin, karaa ba'a biiftuutiin dhundhuma shantama
bal'ata ture. 14 Golgaawwan dhundhuma kudha shan dhedheeratanii utubaa sadii
fi miilla sadii qabanis karaa balbala tokkoo irra turan. 15 Golgaawwan dhundhuma
kudha shan dhedheeratanii utubaa sadii fi miilla sadii qabanis balbala oobdii sana
irra gama kaaniin turan. 16 Golgaawwan naannoo oobdii sanaa hundi quncee
talbaa kan qaldhifamee fo'ame irraa tolfaman. 17 Miillawwan utuboota sanaa
naasii irraa tolfaman. Hokkoowwanii fi somaawwan utubootaa immoo meetii irraa
tolfamanii fiixee utuboota sanaatti meetii uffisan. Utuboonni oobdii sanaa hundinuus
somaawwan meetii qabu turan.
18 Golgaan balbala oobdii sanaa kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee
talbaa kan qal'ifamee fo'ameen dha'amee irratti faayeffamee hojjetame tolfame.
Innis dhundhuma digdama dalga dheeratee akkuma oobdichaa dhundhuma shan
ol dheerata ture; 19 utubaa afurii fi miilla naasii afuris qaba ture. Hokkoowwanii fi
somaawwan isaanii meetii irraa tolfamanii fiixee isaaniitti meetiin uffifamee ture.
20 Qofoon dunkaana qulqulluutii fi qofoon naannoo oobdii sanaa hundi naasii irraa
tolfaman.

## *Mi'a Dunkaanni Ittiin Hojjetame*

21 Baay'inni mi'a dunkaanni qulqulluun jechuunis dunkaanni dhuga ba'umsaa
ittiin hojjetamee kan Lewwonni ajaja Museetiin qajeelfama Iitaamaar ilma Aroon
lubichaatiin galmeessan kanaa dha. 22 Bezali'eel ilmi Uuri jechuunis ilmi ilma Huur
namichi gosa Yihuudaa sun waan WAAQAYYO Musee ajaje hunda hojjete. 23 Oholiiyaab
ilmi Ahiisaamaak namichi gosa Daan sunis isa wajjin ture; innis ogeessa hojii harkaa,
ogeessa bifa baasuu fi kan kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa
kan qal'ifamee fo'ameen waa faayessu ture. 24 Baay'inni warqee aarsaa sochoofamuu
kan hojii iddoo qulqulluu sanaa hunda irra oole walumaa galatti akka madaalii saqilii
iddoo qulqulluutti taalaantii 29 fi saqilii 730 ture.
25 Meetiin namoota waldaa keessaa lakkaa'aman irraa argames akka madaalii
saqilii iddoo qulqulluutti taalaantii 100 fi saqilii 1,775 ture. 26 Namoonni warra
duraan lakkaa'amanii jiranitti dabalaman kanneen umuriin isaanii waggaa digdama
yookaan hammanaa ol ta'e 603,550 turan. Isaan kunneenis akka madaalii iddoo
qulqulluutti matuma mataan beekaa* tokko tokko jechuun walakkaa saqilii tokko
tokkoo baasan. 27 Meetii taalaantii 100 sanaan miillawwan iddoo qulqulluutii
fi miillawwan golgaatu hojjetame; taalaantii 100 fi miilla 100 hojjetame; miilla
tokkoof taalaantii tokkotu barbaachise jechuu dha. 28 Isaanis saqilii 1,775 sana
hokkoo utubaawwanii tolchuuf, fiixee utubaawwaniitti uffisuu fi somaawwan isaanii
tolchuuf itti fayyadaman.
29 Naasiin aarsaa sochoofamuus taalaantii 70 fi saqilii 2,400 ture. 30 Isas miilla
balbala dunkaana wal ga'ii, iddoo aarsaa kan naasii irraa hojjetame, gingilchaa isaa
kan naasii irraa hojjetamee fi mi'a isaa hunda tolchuuf itti fayyadaman; 31 akkasumas
miilli naannoo oobdii, miilli balbala oobdii, qofoowwan dunkaana qulqulluu hundii
fi qofoowwan naannoo oobdii hundi naasii irraa hojjetaman.

# 39

## *Uffata Lubummaa*

* **38:26** 38:26 Beekaan tokko giraamii 7.

1 Isaanis uffata kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee fi bildiimaan dha’ame kan iddoo
qulqulluu keessa tajaajiluuf fayyadu hojjetan. Akkuma Waaqayyo Musee ajajettis
uffata qulqulluu Arooniif hojjetan.

*Efuudii*
*39:2-7 kwf – Bau 28:6-14*

2 Isaanis warqee fi kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa
kan qal’ifamee fo’ameen dirata hojjetan. 3 Isaanis kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee,
bildiimaa fi quncee talbaa qal’aa isaa tolchuuf jedhanii warqee sana ogummaa
harkaatiin tumanii akka baalaatti haphisanii fo’aa fo’aatti gargar kukkutan. 4 Isaanis
akka inni walitti guduunfamuu danda’uuf funyoo gatiittii kan golee isaa lamaanitti
hidhamee ture dirata sanaaf tolchan. 5 Sabbanni isaa kan ogummaadhaan dha’ames
akkuma isaa dirata wajjin tokko ta’ee warqeedhaan, kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee,
bildiimaa fi quncee talbaa kan qal’ifamee fo’ameen akkuma Waaqayyo Musee ajajetti
hojjetame.

6 Isaanis dhagaawwan sardooniksii qopheessanii marsaa faaya warqee naannoo
isaatti tolchan; maqaa ilmaan Israa’elis akka chaappaatti isaan irratti soofan.
7 Ergasiis akka ilmaan Israa’eliif dhagaa yaadannoo ta’uuf akkuma Waaqayyo Musee
ajajetti dhagaawwan sana funyoo gatiittii dirata sanatti qabsiisan.

*Kiisii Qomaa*
*39:8-21 kwf – Bau 28:15-28*

8 Isaanis akkuma dirata sanaatti warqeedhaan, kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee,
bildiimaa fi quncee talbaa kan qal’ifamee fo’ameen ogummaadhaan kiisii qomaa
tolchan. 9 Kiisiin qomaa kun gama afraniinuu wal qixxee ture; innis walitti dachaa
ta’ee dheerina taakkuu tokkoo fi bal’ina taakkuu tokkoo qaba ture. 10 Dhagaawwan
gati jabeeyyiis toora afuriin irratti maxxansan. Toora jalqabaa irratti sardiyoon,
tophaaziyoonii fi biiralee, 11 toora lammaffaa irratti baluur, sanpeerii fi almaaz,
12 toora sadaffaa irratti yaakinti, kelqedoonii fi yaakinti, 13 toora afuraffaa irratti
biiralee, sardooniksii fi yaasphiidi maxxansan. Dhagaawwan kanneenittis marsaa
faaya warqee tolchan. 14 Dhagaawwan kudha lama kanneen tokkoo tokkoo isaanii
irratti maqaa gosoota kudha lama keessaa maqaan tokko akkuma chaappaatti
soofame ni turan; tokkoon tokkoon dhagaawwan sanaas maqaa ilmaan Israa’el tokko
tokkoof dhaabate.
15 Kiisii qomaatiifis foncaa warqee qulqulluu akka funyootti fo’anii tolchan.
16 Isaanis marsaa faaya warqee lamaa fi qubeelaa warqee lama tolchanii qubee-
laawwan sana rogawwan kiisii qomaa keessaa lamatti guduunfan. 17 Foncaa
warqee sana lamaanis qubeelaawwan rogawwan kiisii qomaa sanatti guduun-
fan. 18 Mataa lamaan foncaa lamaan sanaa kaan immoo marsaawwan faayaa
lamaanitti guduunfanii karaa fuula duraatiin foncaa dirataa kan gatiittiitti qabsiisan.
19 Qubeelaawwan warqee lama tolchanii rogawwan kiisii qomaa biraa kanneen
karaa moggaa keessaatiin diratatti aananii jiran lamaanitti qabsiisan. 20 Ergasiis
qubeelaawwan warqee lama biraa tolchanii sabbata mudhiitii olitti garjalee funyoo
gatiittii lamaan, fuula dirataa duraan jiru sanaatti qabsiisan. 21 Isaanis akka
kiisiin qomaa dirata irraa hin sosochooneef qubeelaawwan kiisii qomaa sana
sabbata mudhiitiin walitti qabsiisanii akkuma Waaqayyo Musee ajajetti funyoo bifa
cuquliisaatiin qubeelaawwan diratatti qabsiisan.

*Uffata Lubummaa Kan Biraa*
*39:22-31 kwf – Bau 28:31-43*

22 Isaanis huccuu guutumaan guutuutti bifti isaa cuquliisa ta'e irraa wandaboo
dirataa tolchan; 23 walakkaa gubbaa wandaboo sanaattis afaan ittiin mataa seensi-
fatan tolchan; akka inni hin tarsaaneefis qarqara afaan isaa irra waa naannessanii
hodhan. 24 Isaanis xiyyoo wandaboo sanaatti kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa
fi quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ameen roomaanii hojjetan. 25 Warqee qulqulluu
irraas bilbila hojjetanii roomaanota gidduudhaan naannoo xiyyoo wandabootti
qabsiisan. 26 Bilbillii fi roomaaniin sun akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti tokko
tokkoon wal keessa makamanii naannoo xiyyoo wandaboo tajaajilaaf uffatamu
sanaatti qabsiifaman.
27 Aroonii fi ilmaan isaatiif immoo kittaa quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ameen
dhoofsisanii hojjetan; 28 akkasumas quncee talbaa qal'aa isaatiin marata mataa,
quncee talbaatiin gonfoo, quncee talbaa kan qal'ifamee fo'ameen immoo uffata
wayyaa jalaa hojjetaniif. 29 Sabbannis quncee talbaa kan qal'ifamee fo'amee fi kirrii
bifa cuquliisaa, dhiilgee fi bildiimaan faayeffame akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti
hojjetame.
30 Isaanis warqee qulqulluu irraa faaya gonfoo qulqulluu tolchanii akkuma waan
chaappaa irratti qirixamuutti:

Kan WAAQAYYOOF Qulqulleeffame,

jedhanii irratti barreessan. 31 Ergasiis faaya sana marata mataatiin wal qabsiisuuf
jedhanii akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti funyoo bifa cuquliisaa itti hidhan.

### *Museen Hojii Dunkaana Qulqulluu To'ate*
### *39:32-41 kwf – Bau 35:10-19*

32 Akkasiin hojiin dunkaana qulqulluu kan dunkaana wal ga'ii hundi xumurame.
Israa'eloonnis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti waan hunda hojjetan. 33 Isaanis
dunkaana qulqulluu sana Museetti fidan:

dunkaanaa fi mi'a isaa hunda, hokkoowwan isaa, tuggeewwan isaa, dagaleewwan isaa, utuboota isaatii fi miillawwan isaa;
34 irra buusa kal'ee korbeessa hoolaa kan halluu diimaa cuuphame, irra buusa gogaa duugameetii fi golgaa da'eessu;
35 taabota kakuu seeraa, danqaraa isaatii fi teessoo araaraa wajjin;
36 minjaala mi'a isaa hundaa fi buddeena ilaalchaa wajjin;
37 baattuu ibsaa kan warqee qulqulluu irraa hojjetame, ibsaawwan tarree galanii fi mi'a isaa hunda wajjin, zayitii ibsaa;
38 iddoo aarsaa kan warqee irraa hojjetame, zayitii ittiin diban, ixaana urgaa'u, golgaa balbala dunkaanaa;
39 iddoo aarsaa kan naasii irraa hojjetame, gingilchaa isaa kan naasii irraa hojjetame wajjin,
danqaraawwan isaatii fi mi'a isaa hunda, caabii miilla isaa wajjin;
40 golgaawwan oobdii utubaawwanii fi miillawwan isaanii wajjin,
golgaa karra oobdii sanaa, funyoowwanii fi qofoowwan oobdii,
mi'a dunkaana qulqulluu kan dunkaana wal ga'ii hunda;
41 wayyaawwan fo'amanii dha'aman kanneen yeroo iddoo qulqulluu keessa tajaajilan uffataman, jechuunis wayyaawwan Aroon lubichaaf qulqulleeffamanii fi wayyaawwan ilmaan isaa yeroo lubummaadhaan tajaajilanitti uffatan fe'a.

42 Israa'eloonnis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti hojii hunda hojjetan.
43 Museenis hojii sana to'atee akkuma WAAQAYYO ajajetti hojjechuu isaanii arge.
Museenis isaan eebbise.

# 40

*Dunkaana Qulqulluu Dhaabuu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe: 2 “Guyyaa jalqaba ji’a jalqabaatti dunkaana
qulqulluu jechuunis dunkaana wal ga’ii dhaabi. 3 Taabota kakuu seeraa isa keessa
kaa’iitii taaboticha golgaadhaan da’eessi. 4 Minjaala ol galchiitii mi’a isaa tottolchi.
Ergasiis baattuu ibsaa ol galchiitii ibsaa isaa irra dhaabi. 5 Iddoo aarsaa ixaanaa kan
warqee irraa hojjetame fuula taabota kakuu seeraa dura dhaabiitii balbala dunkaana
qulqulluutti immoo golgaa fannisi.

6 “Iddoo aarsaa qalma gubamuu sanas fuula balbala dunkaana qulqulluu jechuunis
dunkaana wal ga’ii dura dhaabi; 7 gabatee itti dhiqatanis dunkaana wal ga’iitii
fi iddoo aarsaa gidduu dhaabiitii bishaan itti naqi. 8 Naannoo isaattis oobdii
hojjedhuutii balbala isaatti golgaa kaa’i.

9 “Zayitii ittiin diban fuudhiitii dunkaana qulqulluu fi waan isa keessa jiru
hunda dibi; dunkaanichaa fi mi’a isaa hunda qulqulleessi; innis ni qulqullaa’a.
10 Ergasiis iddoo aarsaa qalma gubamuutii fi mi’a isaa hunda dibi; iddoo aarsaa sana
qulqulleessi; innis waan hunda caalaa qulqullaa’aa ta’a. 11 Gabatee itti dhiqatanii fi
miilla isaa dibiitii isaan qulqulleessi.

12 “Aroonii fi ilmaan isaa gara balbala dunkaana wal ga’iitti fidiitii bishaaniin isaan
dhiqi. 13 Ergasii Aroonitti wayyaa qulqulluu uffisi; akka inni lubummaadhaan na
tajaajiluufis dibiitii isa qulqulleessi. 14 Ilmaan isaas fidiitii kittaa itti uffisi. 15 Akka
isaan lubummaadhaan na tajaajilaniifis akkuma abbaa isaanii dibde sanatti isaan
dibi; dibamuun isaanii kunis dhaloota dhufu hunda keessatti lubummaa itti fufu
ta’a.” 16 Museenis akkuma WAAQAYYO isa ajajetti waan hunda hojjete.

17 Kanaafuu dunkaanni qulqulluun sun waggaa lamaffaa keessa guyyaa jalqabaa
kan ji’a jalqabaatti dhaabame. 18 Museen yeroo dunkaana qulqulluu sana dhaabetti
miillawwan dunkaanichaa itti kaa’e; tuggeewwan isaa dhadhaabe; dagaleewwan isaa
loose; utuboota isaa dhadhaabe. 19 Innis akkuma WAAQAYYO isa ajajetti dunkaana
qulqulluu irraan dunkaana diriirsee dunkaana sanatti immoo irra buusa uffise.

20 Dhuga ba’umsa sana fuudhee taabota keessa kaa’e; danqaraawwanis taabotatti
hidhe; teessoo araaraa immoo taabota gubbaa kaa’e. 21 Museen akkuma WAAQAYYO
isa ajajetti taabota sana dunkaana qulqulluutti ol galchee golgaa da’eessu fanniseef;
taabota kakuu seeraa sanas da’eesse.

22 Museenis minjaala sana gama kaaba dunkaana qulqulluutiin dunkaana wal ga’ii
keessa golgaa sanaan ala kaa’e. 23 Akkuma WAAQAYYO isa ajajettis fuula WAAQAYYOO
duratti buddeena achi irra kaa’e.

24 Baattuu ibsaa immoo gama kibbaa dunkaana qulqulluutiin dunkaana wal ga’ii
keessa fuullee minjaalaatiin kaa’e. 25 Akkuma WAAQAYYO isa ajajettis ibsaawwan sana
fuula WAAQAYYOO dura dhadhaabe.

26 Museenis iddoo aarsaa kan warqee irraa hojjetame sana fuula golgaa duraan
dunkaana wal ga’ii keessa dhaabe. 27 Akkuma WAAQAYYO isa ajajettis ixaana urgaa’aa
isa irratti aarse.

28 Balbala dunkaana qulqulluu irrattis golgaa fannise. 29 Inni akkuma WAAQAYYO
isa ajajetti iddoo aarsaa qalma gubamuu sana balbala dunkaana qulqulluu kan
dunkaana wal ga’ii bira dhaabee qalma gubamuu fi kennaa midhaanii isa irratti
dhi’eesse.

30 Gabatee sanas dunkaana wal ga’iitii fi iddoo aarsaa gidduu kaa’ee bishaan
dhiqataa itti naqe; 31 Museen, Aroonii fi ilmaan Arooniis harka isaaniitii fi miilla
isaanii dhiqachuuf itti fayyadamu turan. 32 Isaanis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti
yeroo dunkaana wal ga’ii seenan yookaan yeroo iddoo aarsaatti dhi’aatan hunda ni
dhiqatu turan.

33 Museenis naannoo dunkaana qulqulluutii fi iddoo aarsaatti oobdii hojjetee
balbala waltajjichaa irra golgaa dhaabe; akkasiin Museen hojii sana hojjetee fixe.

### *Ulfina* WAAQAYYOO

34 Ergasiis duumessi dunkaana wal ga’ii haguuge; ulfinni WAAQAYYOOS dunkaana
qulqulluu sana guute. 35 Museenis sababii duumessi sun dunkaana wal ga’ii irra
bu’ee fi sababii ulfinni WAAQAYYOO dunkaana qulqulluu guuteef dunkaana wal ga’ii
seenuu hin dandeenye.
36 Israa’eloonni karaa isaanii hunda keessatti yommuu duumessi dunkaana
qulqulluu irraa ka’u hunda ka’anii deemsa isaanii itti fufu turan. 37 Yoo duumessi
irraa ka’uu baate garuu hamma gaafa duumessi sun irraa ka’uutti hin deeman ture.
38 Kanaafuu karaa isaanii hunda keessatti fuula saba Israa’el hundaa duratti guyyaa
guyyaa duumessi WAAQAYYOO dunkaana qulqulluu irra ture; halkan halkan immoo
ibiddi duumessa sana keessa ture.

# Seera Lewwotaa

*Aarsaa Gubamu*

1 WAAQAYYO Musee waamee dunkaana wal ga’ii keessaa akkana jedhee itti
dubbate; 2 “Israa’elootatti dubbadhu; akkanas jedhiin: ‘Isin keessaa namni kam
iyyuu yommuu horii keessaa WAAQAYYOOF kennaa dhi’eessutti karra loonii yookaan
bushaayee keessaa haa dhi’eessu.
3 “ ‘Yoo kennaan sun qalma gubamu kan karra loonii ta’e, namichi sun korma
hir’ina hin qabne haa dhi’eessu. Akka aarsaan sun fuula WAAQAYYOO duratti
fudhatama argatuufis balbala dunkaana wal ga’ii duratti haa dhi’eessu. 4 Namichis
mataa horii aarsaa gubamuuf dhi’eeffamu sanaa irra harka isaa haa kaa’u; kunis
araara isaaf buusuuf qooda isaa fudhatama argata. 5 Innis fuula WAAQAYYOO duratti
korma haa qalu; ilmaan Aroon luboonni dhiiga sana fuudhanii iddoo aarsaa kan
balbala dunkaana wal ga’ii dura jirutti gama hundaan haa facaasan. 6 Innis aarsaa
gubamu sana irraa gogaa baasee kutaa kutaatti murmura. 7 Ilmaan Aroon lubichaa
immoo iddoo aarsaa irratti ibidda qabsiisanii qoraan irra haa naqan. 8 Ergasiis
ilmaan Aroon luboonni kutaa murmurame, mataa fi cooma isaas qoraan iddoo aarsaa
irratti boba’u irra tarree haa naqan. 9 Innis mi’a garaatii fi miilla qalma sanaa
bishaaniin haa dhiqu; lubichis hunda isaa iddoo aarsaa irratti haa gubu. Kunis aarsaa
gubamu kan ibiddaan dhi’aatuu fi kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI toluu dha.
10 “ ‘Yoo aarsaan sun qalma gubamu kan bushaayee jechuunis hoolaa yookaan re’ee
ta’e namichi dhi’eessu sun korma hir’ina hin qabne haa dhi’eessu. 11 Innis gama
kaaba iddoo aarsaatiin fuula WAAQAYYOO duratti haa qalu; ilmaan Aroon luboonni
immoo gama hundaan dhiiga isaa iddoo aarsaatti haa facaasan. 12 Namichi sunis
kutaa kutaatti haa murmuru; lubichi immoo mataa fi cooma isaa qoraan iddoo aarsaa
irratti boba’aa jiru irra tarree haa naqu. 13 Innis mi’a garaatii fi miilla qalma sanaa
bishaaniin haa dhiqu; lubichi immoo hunda isaa fidee iddoo aarsaa irratti haa gubu.
Kunis aarsaa gubamu kan ibiddaan dhi’aatuu fi kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI toluu
dha.
14 “ ‘Yoo aarsaan WAAQAYYOOF dhi’aatu sun qalma gubamu kan simbirrootaa ta’e
namichi sun gugee yookaan gugee sookkee haa dhi’eessu. 15 Lubichi sun gara iddoo
aarsaatti haa fidu; mataa isaas micciiree irraa haa kutu; ergasii immoo iddoo aarsaa
irratti haa gubu; dhiigni isaa immoo iddoo aarsaa cinatti haa coccobu. 16 Mi’a garaa
isaa baallee isaa wajjin baasee karaa ba’a biiftuutiin iddoo aarsaa cinatti lafa daaraan
jirutti haa gatu. 17 Karaa qoochoo isaatiin haa baqaqsu; garuu guutumaan guutuutti
gargar hin baasin; ergasii lubichi iddoo aarsaa irratti qoraan boba’aa jiru irratti haa
gubu. Kunis aarsaa gubamu kan ibiddaan dhi’aatuu fi kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI
toluu dha.

# 2

*Kennaa Midhaanii*

1 “ ‘Namni tokko yommuu kennaa midhaanii WAAQAYYOOF dhi’eessutti, kennaan
isaa daakuu bullaa’aa haa ta’u. Innis zayitii itti haa naqu; ixaanas itti dabalee,
2 ilmaan Aroon luboota sanatti haa fidu. Lubichis daakuu bullaa’aa zayitiin itti
naqame sana irraa konyee tokko ixaana hunda wajjin haa fuudhu; kanas kutaa
yaadannoo aarsaa gubamu kan ibiddaan dhi’eeffamu kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI
toluu godhee iddoo aarsaa irratti haa gubu. 3 Kennaan midhaanii hafe immoo kan

Aroonii fi ilmaan isaa ti; kunis kutaa aarsaawwan hunda caalaa qulqulluu kan
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamuu dha.
4 “ ‘Yeroo ati kennaa midhaanii barbadaa ibiddaa irratti tolfamee dhi’eessitutti,
kennaan sun daakuu bullaa’aa jechuunis maxinoo zayitiin itti makame yookaan
bixxillee raacitii malee tolfamee zayitiin irra dibame haa ta’u. 5 Kennaan kee kennaa
midhaanii kan eelee irratti qopheeffame taanaan kennaan sun daakuu bullaa’aa
hin bukaa’in kan zayitiin itti makame irraa haa ta’u. 6 Isa caccabsiitii gubbaa
isaatti zayitii naqi; inni kennaa midhaanii ti. 7 Kennaan midhaan keetii yoo eelee
irratti qopheeffame, kennaan sun daakuu bullaa’aa fi zayitii irraa haa qopheeffamu.
8 Kennaa midhaanii kan wantoota kanneen irraa qopheeffame WAAQAYYOOF fidi;
kanas luba iddoo aarsaatti geessutti kenni. 9 Innis Kennaa midhaanii sana irraa kutaa
yaadannoo fuudhee kennaa ibiddaan dhi’eeffamu kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu
godhee iddoo aarsaa irratti haa gubu. 10 Kennaan midhaanii hafe immoo kan Aroonii
fi ilmaan isaa ti; kunis kutaa aarsaawwan hunda caalaa qulqulluu kan ibiddaan
WAAQAYYOOF dhi’eeffamuu dha.
11 “ ‘Kennaan midhaanii kan isin WAAQAYYOOF dhi’eessitan hundinuu utuu raacitiin
itti hin makamin qopheeffamuu qaba; isin kennaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu
tokko keessatti raacitii yookaan damma tokko illee gubuu hin qabdaniitii. 12 Kennaa
kanas akka mataa midhaaniitti WAAQAYYOOF dhi’eessu dandeessu; garuu akka kennaa
urgaa’aa tokkootti iddoo aarsaa irratti dhi’aachuu hin qabu. 13 Kennaa midhaan
keetii hunda soogiddaan mi’eessi; soogidda kakuu Waaqa keetii kennaa midhaan
keetii keessaa hin hambisin; kennaa kee hundatti soogidda dabali.
14 “ ‘Ati yoo mataa midhaanii keessaa kennaa midhaanii WAAQAYYOOF fidde, mataa
midhaan asheetee ibiddaan waadamee sukkuumamee dhi’eessi. 15 Zayitii itti naqiitii
ixaanas itti dabali; kun kennaa midhaanii ti. 16 Lubni sunis kutaa yaadannoo
midhaan sukkuumamee sanaatii fi zayitii sana ixaana hunda wajjin kennaa ibiddaan
WAAQAYYOOF dhi’eeffamu godhee haa gubu.

# 3

*Aarsaa Nagaa*
1 “ ‘Kennaan nama tokkoo yoo aarsaa nagaa ta’e, namichi sunis karra loonii keessaa
horii tokko, korma yookaan dhalaa yoo dhi’eesse, inni horii hir’ina hin qabne fuula
WAAQAYYOO duratti haa dhi’eessu. 2 Namichi sun mataa kennaa isaa irra harka isaa
haa kaa’u; balbala dunkaana wal ga’ii durattis haa qalu. Ergasii immoo ilmaan Aroon
luboonni sun dhiiga horii sana iddoo aarsaa sanatti gama hundaan haa facaasan.
3 Innis aarsaa nagaa irraa aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu haa fidu; kunis
moora mi’a garaa haguuguu fi kan itti maxxanu hunda, 4 kalee lamaanii fi moora
isaan irra jiru kan mudhiitti dhi’aatu, haguuggii tiruu kan namichi kaleedhaan walitti
qabee baasu fa’a. 5 Ergasiis ilmaan Aroon waan kana aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu
kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu godhanii iddoo aarsaa irratti aarsaa gubamu kan
qoraan boba’u irra jiru irratti haa guban.
6 “ ‘Inni yoo bushaayee keessaa horii tokko akka aarsaa nagaatti WAAQAYYOOF
dhi’eesse, korma yookaan dhalaa hir’ina hin qabne haa dhi’eessu. 7 Inni yoo
xobbaallaa hoolaa dhi’eesse, fuula WAAQAYYOO duratti haa dhi’eessu. 8 Namichi sunis
mataa kennaa isaa irra harka isaa kaa’ee balbala dunkaana wal ga’ii duratti haa
qalu. Ergasii immoo ilmaan Aroon dhiiga horii sanaa iddoo aarsaa irratti gama
hundaan haa facaasan. 9 Innis aarsaa nagaa sana irraa qalma ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi’eeffamu haa fidu; kunis cooma isaa, duboo isaa kan lafee dugdaatti dhi’eeffamee
kutame hunda, moora mi’a garaa haguuguu fi kan itti maxxanu hunda, 10 kalee
lamaanii fi moora isaan irra jiru kan mudhiitti dhi’aatu, haguuggii tiruu kan namichi

kaleedhaan walitti qabee baasu fa'i. [11] Lubni sunis waan kana nyaata godhee iddoo
aarsaa irratti haa gubu; nyaanni kunis aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamuu
dha.
[12] " 'Yoo kennaan isaa re'ee ta'e, inni fuula WAAQAYYOO duratti haa dhi'eessu.
[13] Namichi sun mataa re'ee sanaa irra harka isaa kaa'ee fuula dunkaana wal ga'ii
duratti haa qalu. Ergasii immoo ilmaan Aroon dhiiga horii sanaa iddoo aarsaa irratti
gama hundaan haa facaasan. [14] Innis waan dhi'eessu keessaa kennaa kana kennaa
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu godhee haa dhi'eessu; kunis moora mi'a garaa
haguuguu fi kan itti maxxanu hunda, [15] kalee lamaanii fi moora isaan irra jiru kan
mudhiitti dhi'aatu, haguuggii tiruu kan namichi kaleedhaan walitti qabee baasu fa'i.
[16] Lubni sunis waan kana nyaata godhee iddoo aarsaa irratti haa gubu; kunis aarsaa
urgaa'aa ibiddaan dhi'eeffamuu dha. Coomni hundinuu kan WAAQAYYOO ti.
[17] " 'Isin cooma tokko illee yookaan dhiiga tokko illee hin sooratinaa; wanni kun
lafa isin jiraattan hundatti dhaloota dhufuuf jiru keessatti seera hin geeddaramnee
dha.' "

# 4

*Aarsaa Cubbuu*
[1] WAAQAYYO akkana jedhee Museetti dubbate; [2] "Israa'elootaan akkana jedhi; 'Yoo
namni utuu hin beekin waan WAAQAYYO dhowwe cabsuudhaan cubbuu hojjete.
[3] " 'Lubichi dibame yoo cubbuu hojjetee akkasiin sabatti cubbuu fide, inni cubbuu
hojjete sanaaf dibicha hir'ina hin qabne tokko aarsaa cubbuu godhee WAAQAYYOOF
haa dhi'eessu. [4] Innis dibicha sana balbala dunkaana wal ga'ii irratti fuula
WAAQAYYOO duratti haa dhi'eessu. Mataa dibicha sanaa irras harka isaa kaa'ee fuula
WAAQAYYOO duratti haa qalu. [5] Lubni dibame sun dhiiga dibicha sanaa irraa fuudhee
dunkaana wal ga'iitti qabatee haa seenu. [6] Lubni sunis quba isaa dhiiga keessa
cuphee dhiiga sana irraa golgaa iddoo qulqulluu duratti yeroo torba fuula WAAQAYYOO
duratti haa facaasu. [7] Ergasiis lubni sun dhiiga sana irraa gaanfawwan iddoo aarsaa
ixaana urgaa'u kan dunkaana wal ga'ii keessa fuula WAAQAYYOO dura jiru sana irratti
haa naqu. Dhiiga dibicha sanaa kan hafe hunda immoo balbala dunkaana wal
ga'ii irratti miilla iddoo aarsaa gubamuu jalatti haa dhangalaasu. [8] Innis dibicha
aarsaa cubbuutiif dhi'eeffame sana irraa cooma hunda haa baasu; kunis moora
mi'a garaa haguuguu fi kan itti maxxanu hunda, [9] kalee lamaanii fi moora isaan
irra jiru kan mudhiitti dhi'aatu, haguuggii tiruu kan inni kaleedhaan walitti qabee
baasu fa'i; [10] waan kanas akkuma loon aarsaa nagaatiif dhi'eeffamu irraa moorri
baafamu sanatti haa baasu. Lubnis iddoo aarsaa kan aarsaa gubamuu irratti haa
gubu. [11] Garuu gogaa dibicha sanaatii fi foon isaa hunda, mataa fi miilla isaa, mi'a
garaatii fi cumaa isaa, [12] jechuunis waan dibicha sanaa kan hafe hunda qubata
keessaa gad baasee gara iddoo seeraan qulqulluu ta'e kan daaraan itti gatamuutti
haa geessu; daaraa tuulame irrattis ibidda qoraaniitiin haa gubu.
[13] " 'Yoo waldaan Israa'el hundi utuu hin beekin cubbamee waan ajaja WAAQAYYOO
keessatti dhowwame hojjete waldaan sun waa'ee waan sanaa beekuu baatu illee
yakka qabeessa ta'a. [14] Yommuu cubbuun isaan hojjetan beekamutti waldaan sun
dibicha tokko aarsaa cubbuu godhee dunkaana wal ga'ii duratti fidee haa dhi'eessu.
[15] Maanguddoonni waldaa fuula WAAQAYYOO duratti mataa dibicha sanaa irra harka
isaanii haa kaa'an; dibichi sunis fuula WAAQAYYOO duratti haa qalamu. [16] Lubni
dibame sun dhiiga dibicha sanaa irraa fuudhee gara dunkaana wal ga'iitti haa fidu.
[17] Innis quba isaa dhiiga keessa cuuphee golgaa duratti yeroo torba fuula WAAQAYYOO
duratti haa facaasu. [18] Lubni sunis dhiiga sana irraa gaanfawwan iddoo aarsaa
kan dunkaana wal ga'ii keessa fuula WAAQAYYOO dura jiru sana irratti haa naqu.

Dhiiga dibicha sanaa kan hafe hunda immoo balbala dunkaana wal ga'ii irratti miilla
iddoo aarsaa gubamuu jalatti haa dhangalaasu. 19 Inni cooma hunda irraa baasee
iddoo aarsaa irratti haa gubu; 20 dibicha kanas akkuma dibicha aarsaa cubbuutiif
dhi'eeffame sana godhe haa godhu; lubnis haaluma kanaan araara isaaniif buusa;
isaanis dhiifama argatu. 21 Innis ergasii dibicha sana qubata keessaa gad baasee
akkuma dibicha jalqabaa gube sana haa gubu; kunis aarsaa cubbuu waldaa ti.

22 " 'Bulchaan tokko yoo utuu hin beekin cubbuu hojjetee waan ajaja WAAQAYYO
Waaqa isaa keessatti dhowwame hojjete inni yakka qabeessa ta'a. 23 Inni yommuu
cubbuu hojjete sana beeketti korma re'ee kan hir'ina hin qabne tokko aarsaa ofii
isaatiif haa fidu. 24 Mataa re'ee sanaa irra harka isaa kaa'ee iddoo aarsaan gubamu
itti qalamutti fuula WAAQAYYOO duratti haa qalu; kunis aarsaa cubbuu ti. 25 Lubni
sunis ergasii dhiiga aarsaa cubbuutiif dhi'eeffame irraa quba isaatiin fuudhee gaanfa
iddoo aarsaa kan aarsaan gubamu irratti dhi'eeffamutti haa naqu; dhiiga hafe immoo
miilla iddoo aarsaa jalatti haa dhangalaasu. 26 Innis akkuma cooma aarsaa nagaatiif
dhi'eeffame gube sana moora hunda iddoo aarsaa irratti haa gubu; lubichi haala
kanaan namichaaf araara cubbuu buusa; innis dhiifama argata.

27 " 'Saba keessaa namni tokko yoo utuu hin beekin waan ajaja WAAQAYYOO keessatti
dhowwame keessaa tokko illee cabsuudhaan cubbuu hojjete inni yakka qabeessa
ta'a. 28 Inni yommuu akka cubbuu hojjete beeketti cubbuu hojjete sanaaf re'ee
dhaltuu hir'ina hin qabne tokko aarsaa ofii isaatiif haa fidu. 29 Mataa re'ee aarsaa
cubbuutiif dhi'eeffamte sanaa irras harka isaa kaa'ee iddoo aarsaa gubamuutti haa
qalu. 30 Lubni sunis ergasii dhiiga sana irraa quba isaatiin fuudhee gaanfa iddoo
aarsaa kan aarsaan gubamu irratti dhi'eeffamutti haa naqu; dhiiga hafe hunda
immoo miilla iddoo aarsaa jalatti haa dhangalaasu. 31 Akkuma moorri itti aarsaa
nagaa irraa baafamutti inni moora hunda haa baasu; lubni immoo aarsaa urgaan
isaa WAAQAYYOTTI tolu godhee iddoo aarsaa irratti haa gubu. Akkasiinis lubni araara
buusaaf; innis dhiifama argata.

32 " 'Inni yoo hoolaa tokko aarsaa cubbuu ofii isaatiif fide, dhaltuu hir'ina hin qabne
haa fidu. 33 Mataa hoolaa sanaa irras harka isaa kaa'ee iddoo aarsaan gubamu itti
qalamutti aarsaa cubbuutiif haa qalu. 34 Lubni sunis ergasii dhiiga aarsaa cubbuutiif
dhi'eeffame irraa quba isaatiin fuudhee gaanfa iddoo aarsaa kan aarsaa gubamuutti
haa naqu; dhiiga hafe hunda immoo miilla iddoo aarsaa jalatti haa dhangalaasu.
35 Akkuma moorri itti hoolaa aarsaa nagaatiif dhi'eeffamu irraa baafamutti inni
moora hunda haa baasu; lubni immoo aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu
gubbaatti iddoo aarsaa irratti haa gubu. Lubnis akkasiin cubbuu namichi hojjeteef
araara buusaaf; innis dhiifama argata.

# 5

1 " 'Namni tokko yoo waan nama kakachiisu dhaga'ee waa'ee waan arge yookaan
beeku sanaa dhugaa ba'uu diduudhaan cubbuu hojjete inni itti gaafatama.

2 " 'Yookaan namni tokko yoo waan akka seeraatti xuraa'aa ta'e jechuunis raqa
bineensa xuraa'aa yookaan horii xuraa'aa yookaan uumamawwan xuraa'oo kanneen
lafa irra munyuuqanii utuu hin beekin tuqe inni xuraa'eera; yakka qabeessas ta'a.
3 Yookaan inni yoo xuraa'ummaa namaa jechuunis waan isa xureessu kam iyyuu
utuu hin beekin tuqe, yommuu waan sana beeketti yakka qabeessa ta'a. 4 Yookaan
namni yoo utuu itti hin yaadin waan gaarii yookaan hamaa gochuuf kakate, waa'ee
waan utuu itti hin yaadin kakate sanaa beekuu baatu illee maalumaafuu yommuu
waan sana beeketti inni yakka qabeessa ta'a. 5 Inni yoo karaa kanneen keessaa
tokkoon iyyuu yakka qabeessa ta'e karaa kamiin akka hojjete haa himatu; 6 adaba
cubbuu hojjete sanaatiifis akka aarsaa cubbuu isaaf taatuuf bushaayee keessaa

hoolaa yookaan re'ee dhaltuu WAAQAYYOOF haa fidu; lubnis cubbuu namichaatiif aarsaa araaraa haa dhi'eessu.
7 " 'Namichi sun cubbuu hojjeteef hoolaa dhi'eessuutti harka qalleessa yoo ta'e adabbii cubbuu isaatiif gugee lama yookaan gugee sosookkee lama, tokko aarsaa cubbuutiif tokko immoo aarsaa gubamuuf WAAQAYYOOF haa fidu. 8 Lubattis isaan haa fidu; lubni immoo kan aarsaa cubbuutiif taatu duraan dursee haa dhi'eessu. Innis mataa ishee micciiree morma ishee haa cabsu; garuu irraa hin kutin. 9 Dhiiga aarsaa cubbuu sana irraa fuudhee cinaacha iddoo aarsaatti haa facaasu; dhiigni hafe immoo miilla iddoo aarsaa jalatti haa dhangalaafamu; kun aarsaa cubbuu ti.
10 Ergasiis lubichi akkuma ajajametti kan lammaffaa sana aarsaa gubamu godhee cubbuu namichi hojjeteef aarsaa araaraa haa dhi'eessu; innis dhiifama argata.
11 " 'Namichi sun yoo gugee lama yookaan gugee sosookkee lama dhi'eessuutti harka qalleessa ta'e inni cubbuu hojjete sanaaf daakuu bullaa'aa iifii tokkoo keessaa harka kurnaffaa aarsaa cubbuutiif haa dhi'eessu. Sababii wanni kun aarsaa cubbuu ta'eef namichi zayitii yookaan ixaana itti hin dabalin. 12 Innis lubatti haa fidu; lubichi immoo konyee tokko irraa fuudhee akka kutaa yaadannoo tokkootti aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffame gubbaatti iddoo aarsaa irratti haa gubu; kun aarsaa cubbuu ti. 13 Lubichis haala kanaan cubbuu namichi hojjeteef araara buusa; innis dhiifama argata. Aarsaan hafe immoo akkuma aarsaa midhaaniitti kan lubichaa ta'a.' "

### *Aarsaa Yakkaa*

14 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 15 "Namni yoo seera cabsee utuu hin beekin waan WAAQAYYOOF qulqulleeffame kam iyyutti cubbuu hojjete inni adabbii cubbuu isaatiif bushaayee keessaa korbeessa hoolaa kan hir'ina hin qabne kan gatiin isaa akka saqilii iddoo qulqulluutti meetiidhaan tilmaamame tokko aarsaa yakkaa godhee WAAQAYYOOF haa fidu; kun aarsaa yakkaa ti. 16 Namichi sunis waan wantoota qulqulluu irraa hir'ise sana iddoo haa buusu; gatii waan sanaa illee harka shan keessaa harka tokko itti dabalee hunda isaa lubatti haa kennu; lubni sunis korbeessa hoolaa aarsaa yakkaatiif dhi'eeffame sanaan araara buusaaf; innis dhiifama argata.
17 "Namni yoo cubbuu hojjetee waan ajajawwan WAAQAYYOO keessatti dhowwame hojjete, inni yoo beekuu baate illee yakka qabeessa ta'eera; itti gaafatamas. 18 Innis akka tilmaama keetiitti bushaayee keessaa korbeessa hoolaa hir'ina hin qabne tokko aarsaa yakkaa godhee lubatti haa fidu. Lubichis haaluma kanaan yakka namichi utuu hin beekin hojjeteef araara buusa; innis dhiifama argata. 19 Kun aarsaa yakkaa ti; namichi sun WAAQAYYOTTI yakka hojjeteera."

# 6

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Namni yoo waa'ee waan imaanaa isatti kennamee yookaan waan isa bira kaa'amee yookaan waan hatame tokkoo ollaa isaa gowwoomsuudhaan yookaan saamuudhaan cubbuu hojjetee WAAQAYYOOF amanamuu baate, 3 yookaan yoo qabeenya bade argee waa'ee isaa soba dubbate yookaan yoo sobaan kakate yookaan yoo cubbuu akkasii kan namoonni hojjetan kam iyyuu hojjete, 4 yoo akkasiin cubbuu hojjetee yakka qabeessa ta'e inni waan hate yookaan waan humnaan saame yookaan waan imaanaa isatti kenname yookaan waan bade kan lafaa arge sana 5 yookaan waan sobaan itti kakate hunda haa deebisu. Inni waan sana guutummaatti iddoo haa buusu; gatii waan sanaas harka shan keessaa harka tokko itti dabalee hunda isaa guyyuma aarsaa yakka ofii isaa dhi'eeffatutti abbaa qabeenya sanaatiif haa kennu. 6 Ergasiis inni bushaayee keessaa korbeessa hoolaa hir'ina hin qabne kan gatiin isaa gatii adabbii yakka tokkootti tilmaamamu aarsaa yakka ofii isaa kan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu godhee lubatti haa fidu. 7 Lubichi haaluma kanaan fuula WAAQAYYOO duratti araara isaaf buusa; innis

wantoota kanneen keessaa waan hojjete kan yakka qabeessa isa godhe kamiif iyyuu
dhiifama argata.”

### *Aarsaa Gubamu*

8 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 9 “Aroonii fi ilmaan isaatiif ajaja kana
kenni: ‘Seerri aarsaa gubamuu kanaa dha; aarsaan gubamu hamma lafti bariitutti
halkan guutuu ibidda iddoo aarsaa irra jiru gubbaa haa turu; ibiddis ittuma fufee
iddoo aarsaa irratti haa boba’u. 10 Lubni sunis uffata isaa kan quncee talbaa irraa
hojjetamee fi uffata wayyaa jalaan dhagna isaatti aanu kan quncee talbaa irraa
hojjetame haa uffatu; ergasiis daaraa aarsaa gubamuu kan ibiddi iddoo aarsaa irratti
gubee fixe sana haree iddoo aarsaa cina haa kaa’u. 11 Ergasiis uffata sana of irraa
baasee kan biraa haa uffatu; daaraa sanas baatee qubata keessaa gad baasee lafa
akka seeraatti qulqulluu ta’etti haa geessu. 12 Ibiddi iddoo aarsaa irra jiru yeroo
hunda boba’uu qaba; yoom iyyuus hin dhaamin. Lubichi ganama ganama ibidda
sanatti qoraan haa naqu; aarsaa gubamu ibidda irratti haa qopheessu; kana irrattis
cooma aarsaa nagaa haa gubu. 13 Iddoo aarsaa irratti ibiddi yeroo hunda haa boba’u;
gonkumaas hin dhaamin.

### *Kennaa Midhaanii*

14 “ ‘Seerri kennaa midhaanii kanaa dha: Ilmaan Aroon waan kana fuullee iddoo
aarsaatti fuula WAAQAYYOO duratti haa dhi’eessan. 15 Lubnis daakuu bullaa’aa
konyee tokkoo fi zayitii, ixaana kennaa midhaanii irra jiru hunda wajjin fuudhee
urgaa WAAQAYYOTTI tolu godhee akka kutaa yaadannootti iddoo aarsaa irratti
haa gubu. 16 Aroonii fi ilmaan isaa immoo waan irraa hafe haa nyaatan; kun
maxinoo iddoo qulqulluutti nyaatamuu qabuu dha; isaanis oobdii dunkaana wal
ga’ii keessatti haa nyaatan. 17 Wanni kun raacitiidhaan tolfamuu hin qabu; ani
kennaa ibiddaan naa dhi’eeffamu keessaa akka qooda isaaniitti waan kana isaaniif
kenneera. Kunis akkuma aarsaa cubbuutii fi aarsaa yakkaatti waan hunda caalaa
qulqulluu dha. 18 Sanyiin Aroon kan dhiira ta’e kam iyyuu waan kana nyaachuu
danda’a. Kunis qooda kennaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu keessaa dhaloota
keessan kan dhufutti bara baraan Arooniif kennamee dha; namni isa tuqu hundinuus
ni qulqullaa’a.’ ”
19 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 20 “Kennaan Aroonii fi ilmaan isaa guyyaa
inni dibamutti WAAQAYYOOF dhi’eessuu qaban kanaa dha: Daakuu bullaa’aa iifii*
kudhan keessaa tokkoo jechuunis walakkaa isaa ganama, walakkaa immoo galgala
yeroo hunda kennaa midhaanii godhanii haa dhi’eessan. 21 Kunis zayitiidhaan eelee
irratti haa tolfamu; akka gaariitti walitti makiitii kennaa midhaan sanaa caccabsii
urgaa WAAQAYYOTTI tolu godhii dhi’eessi. 22 Ilmi isaa kan luba ta’ee dibamee iddoo
isaa bu’u waan kana haa qopheessu; kennaan kun sababii qooda WAAQAYYOO kan
bara baraa ta’eef guutummaatti haa gubamu. 23 Kennaan midhaanii kan lubichi
dhi’eessu hundi guutummaatti haa gubamu; aarsaan sun nyaatamuu hin qabuutii.”

### *Aarsaa Cubbuu*

24 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 25 “Aroonii fi ilmaan isaatiin akkana jedhi:
‘Seerri aarsaan cubbuu ittiin dhi’eeffamu kanaa dha: Aarsaan cubbuu iddoo aarsaan
gubamu itti qalamutti fuula WAAQAYYOO duratti haa qalamu; aarsaan kun waan
hunda caalaa qulqulluu dha. 26 Lubni isa dhi’eessu aarsaa kana haa nyaatu; kunis
oobdii dunkaana wal ga’ii keessatti iddoo qulqulluutti nyaatamuu qaba. 27 Namni
foon sana tuqu kam iyyuu ni qulqullaa’a; yoo dhiigni isaa tokko iyyuu uffatatti
faca’e uffata sana iddoo qulqulluutti miicuu qabda. 28 Okkoteen suphee kan foon
sun itti affeelame haa cabsamu; yoo okkotee naasiitti affeelame garuu haqamee

* **6:20** 6:20 Iifiin tokko kiiloo giraamii 22.

bishaaniin haa dhiqamu. 29 Dhiirri gosa lubootaa ta’e kam iyyuu foon kana nyaachuu
ni danda’a; kun waan hunda caalaa qulqulluu dha. 30 Garuu aarsaan cubbuu kan
araara buusuudhaaf dhiigni isaa gara dunkaana wal ga’ii Iddoo Qulqulluutti fidamu
kam iyyuu nyaatamuu hin qabu; inni gubamuu qaba.

# 7

### *Aarsaa Yakkaa*

1 “ ‘Seerri aarsaa yakkaa kan waan hunda caalaa qulqulluu ta’e sanaa kana:
2 Aarsaan yakkaa iddoo aarsaan gubamu itti qalamutti haa qalamu; dhiigni isaa
immoo gama hundaan iddoo aarsaatti facaafamuu qaba. 3 Moorri isaa hundinuus
aarsaa ta’ee dhi’eeffamuu qaba; kunis duboo fi moora mi’a garaa haguugu, 4 kalee
lamaanii fi moora isaan irra jiru kan mudhiitti dhi’aatu, haguuggiin tiruu kan
kaleewwan wajjin ba’u wal faana haa dhi’aatu. 5 Lubichis aarsaa ibiddaan
Waaqayyoof dhi’aatu godhee iddoo aarsaa irratti haa gubu; kun aarsaa yakkaa ti.
6 Dhiirri gosa lubootaa ta’e kam iyyuu foon kana nyaachuu danda’a; kun garuu iddoo
qulqulluutti nyaatamuu qaba; aarsaan kun waan hunda caalaa qulqulluu dha.
7 “ ‘Seerri aarsaan cubbuutii fi aarsaan yakkaa ittiin dhi’eeffamu tokkuma;
aarsaawwan kunneenis kan luba ittiin araara buusuu ta’u. 8 Lubni namaaf jedhee
aarsaa gubamu dhi’eessu tokko gogaa aarsaa gubamu sanaa ofii isaatiif haa fudhatu.
9 Kennaan midhaanii kan barbadaa ibiddaa irratti yookaan eelee irratti yookaan
beddee irratti bilchaate kam iyyuu luba isa dhi’eessuuf haa kennamu; 10 kennaan
midhaanii kam iyyuu jechuunis kan zayitiin itti makame yookaan goggogaan ilmaan
Aroon hundaaf wal qixxee haa kennamu.

### *Aarsaa Nagaa*

11 “ ‘Seerri aarsaa nagaa kan namni tokko ittiin Waaqayyoof dhi’eessuu qabu kana.
12 “ ‘Inni yoo galata galchuuf aarsaa dhi’eeffate, aarsaa galataa kana wajjin maxinoo
zayitiin itti makame, bixxillee raacitii malee tolfamee zayitiin irra dibamee fi maxinoo
daakuu bullaa’aa kan akka gaarii sukkuumamee zayitiin itti makame haa dhi’eessu.
13 Aarsaa nagaa kan galataaf dhi’eeffatu wajjinis kennaa maxinoo raacitii qabu haa
dhi’eessu. 14 Aarsaa hunda keessaa tokko tokko fuudhee akka kennaa Waaqayyoof
dhi’eeffamu tokkootti haa fidu; kunis luba dhiiga aarsaa nagaa facaasu sanaaf haa
kennamu. 15 Foon aarsaa nagaa kan galataaf dhi’eeffamu gaafuma dhi’aate sana
nyaatamee dhumuu qaba; wanni tokko iyyuu isa irraa hafee buluu hin qabu.
16 “ ‘Yoo aarsaan isaa wareega guuttachuuf yookaan aarsaa fedhiidhaan dhi’aatu
ta’e, aarsaan sun guyyuma inni dhi’eesse nyaatamuu qaba; kan hafe garuu guyyaa
itti aanu nyaatamuu danda’a. 17 Foon aarsaa sana irraa hamma guyyaa sadaffaatti
hafe gubamuu qaba. 18 Foon aarsaa nagaa sana irraa yoo wanni tokko iyyuu guyyaa
sadaffaatti nyaatame aarsaan sun hin fudhatamu. Kun sababii xuraa’aa ta’eef
nama dhi’eesse sanaaf fudhatama hin qabaatu. Namni foon sana irraa nyaatu itti
gaafatama.
19 “ ‘Foon waan akka seeraatti xuraa’aa ta’e kam iyyuu tuqe hin nyaatamin; foon
sun gubamuu qaba. Foon kaan garuu namni akka seeraatti qulqulluu ta’e kam
iyyuu nyaachuu danda’a. 20 Garuu namni xuraa’aan yoo foon aarsaa nagaa kan
Waaqayyoof dhi’eeffame nyaate, inni saba ofii keessaa haa balleeffamu. 21 Namni
yoo waan xuraa’aa jechuunis xuraa’ummaa namaa yookaan horii xuraa’aa yookaan
waan xuraa’aa kam iyyuu, waan jibbisiisaa tuqee ergasii immoo foon aarsaa
nagaa kan Waaqayyoof dhi’aate keessaa nyaate namni sun saba ofii keessaa haa
balleeffamu.’ ”

### *Moorrii fi Dhiigni Hin Sooratamu*

22 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 23 “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Moora
loonii yookaan kan hoolaa yookaan kan re’ee kamii iyyuu hin nyaatinaa. 24 Coomni
horii du’ee argamee yookaan bineensi ajjeesee waan biraaf haa oolu; isin garuu isa
nyaachuu hin qabdan. 25 Namni horii ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffame irraa cooma
isaa nyaate kam iyyuu saba ofii isaa keessaa haa balleeffamu. 26 Isin lafa jiraattan
hundatti dhiiga simbirroo yookaan horii gosa kamii iyyuu hin nyaatinaa. 27 Namni
kam iyyuu yoo dhiiga nyaate saba ofii isaa keessaa haa balleeffamu.’ ”

### *Qooda Lubootaa*

28 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 29 “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Namni
aarsaa nagaa WAAQAYYOOF dhi’eessu kanuma irraa fuudhee aarsaa ofii isaa WAAQAYY-
OOF haa dhi’eessu. 30 Aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamus harkuma isaatiin
haa fidu; cooma sana handaraafa wajjin haa fidu; handaraafas aarsaa sochoofame
godhee fuula WAAQAYYOO duratti haa sochoosu. 31 Lubichi cooma sana iddoo aarsaa
irratti haa gubu. Handaraafni isaa garuu Aroonii fi ilmaan isaatiif haa kennamu.
32 Tafa mirgaa kan aarsaa nagaa keessanii kennaa godhaatii lubaaf kennaa. 33 Ilmi
Aroon kan dhiigaa fi cooma aarsaa nagaa dhi’eessu sun tafa mirgaa qooda ofii
isaa godhee haa fudhatu. 34 Ani aarsaa nagaa kan Israa’elootaa irraa handaraafa
sochoofamee fi tafa dhi’aate sana fudhadheera; kanas akka qooda isaan bara baraan
Israa’eloota irraa argataniitti Aroon lubichaa fi ilmaan isaatii kenneera.’ ”

35 Gaafa isaan lubummaadhaan WAAQAYYOON tajaajiluuf dhi’aatanitti aarsaa
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’aate irraa qoodni Aroonii fi ilmaan isaatiif ramadame
kana. 36 Guyyaa isaan dibamanitti, akka Israa’eloonni qooda isaanii godhanii bara
baraan dhaloota dhufutti waan kana isaanii kennan WAAQAYYO ajajeera.

37 Egaa seerri dhi’eessuu aarsaa gubamuu, kennaa midhaanii, aarsaa cubbuu,
aarsaa yakkaa, seerri dibamuu lubummaatii fi aarsaa nagaa kanaa dha; 38 kunis ajaja
WAAQAYYO gaafa akka Israa’eloonni Gammoojjii Siinaatti kennaa isaanii WAAQAYYOOF
dhi’eessan Gaara Siinaa irratti Museedhaaf kennee dha.

# 8

### *Muudamuu Arooniitii fi Ilmaan Isaa*
### *8:1-36 kwf – Bau 29:1-37*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Aroonii fi ilmaan isaa, uffata isaanii,
zayitii ittiin diban, dibicha aarsaa cubbuutiif dhi’eeffamu, korbeeyyii hoolaa lamaa
fi gundoo maxinoo baatu fidi; 3 waldaa hundas balbala dunkaana wal ga’ii duratti
walitti qabi.” 4 Museenis akkuma WAAQAYYO isa ajaje sana godhe; waldaan hundis
balbala dunkaana wal ga’ii duratti walitti qabame.

5 Museenis waldaa sanaan, “Wanni WAAQAYYO akka hojjetamu ajaje kana” jedhe.
6 Ergasiis Museen Aroonii fi ilmaan isaa gara fuula duraatti fidee bishaaniin isaan
dhiqe. 7 Innis Aroonitti kittaa uffisee sabbataan hidheef; wandaboos itti uffisee isa
irratti dirata dabaleef; dirata sanas sabbata ogummaadhaan hojjetameen hidheef.
8 Kiisii qomaa itti kaa’ee kiisii sana keessa immoo Uriimii fi Tumiimii kaa’e.
9 Museenis akkuma WAAQAYYO isa ajajetti mataa Aroonitti marata mare; marata sana
irrattis karaa fuula duraatiin faaya warqee kan gonfoo qulqulluu tolche.

10 Ergasii Museen zayitii ittiin diban fuudhee dunkaana qulqulluu fi waan achi
keessa jiru hunda dibee qulqulleesse. 11 Zayitii sana irraas fuudhee iddoo aarsaa
irratti yeroo torba facaase; akka isaan qulqulleessuufis iddoo aarsaatii fi mi’a isaa
hunda akkasumas gabatee itti dhiqatan miilla isaa wajjin zayitii dibe. 12 Zayitii ittiin
diban irraas fuudhee mataa Aroon irratti dhangalaase; isa qulqulleessuufis isa dibe.

13 Museenis akkuma WAAQAYYO isa ajajetti ilmaan Aroon gara fuula duraatti baasee
kittaa itti uffise; sabbata hidheefii gonfoo mataa isaaniitti kaa'e.

14 Ergasii immoo aarsaa cubbuutiif dibicha dhi'eesse; Aroonii fi ilmaan isaas mataa
dibicha sanaa irra harka isaanii kaa'an. 15 Museenis dibicha sana qalee dhiiga
fuudhee iddoo aarsaa qulqulleessuuf quba isaatiin gaanfa iddoo aarsaa hunda dibe;
dhiiga hafe immoo miilla iddoo aarsaa jalatti gad naqe. Araara isaaf buusuufis iddoo
aarsaa sana qulqulleesse. 16 Akkasumas moora naannoo mi'a garaa jiru, haguuggii
tiruu, kalee lamaanii fi moora isaanii fuudhee iddoo aarsaa irratti gube. 17 Dibicha
sana, gogaa isaa, foon isaatii fi cumaa isaa garuu akkuma WAAQAYYO isa ajajetti
qubata keessaa gad baasee gube.

18 Ergasii immoo aarsaa gubamuuf korbeessa hoolaa dhi'eesse; Aroonii fi ilmaan
isaas mataa hoolaa sanaa irra harka isaanii kaa'an. 19 Museen immoo korbeessa
hoolaa sana qalee dhiiga isaa iddoo aarsaatti gama hundaan facaase. 20 Korbeessa
hoolaa sana gargar kukkutee mataa, bu'aa fi cooma isaa gube. 21 Innis mi'a garaatii
fi luka bishaaniin dhiqee korbeessa hoolaa sana guutuu iddoo aarsaa irratti gube.
Kunis aarsaa gubamu, foolii namatti tolu, aarsaa nyaataa akkuma WAAQAYYO Musee
ajajetti WAAQAYYOOF dhi'eeffamee dha.

22 Innis ergasii korbeessa hoolaa kaan jechuunis hoolaa ittiin muudan sana
dhi'eesse; Aroonii fi ilmaan isaa immoo mataa hoolaa sanaa irra harka isaanii kaa'an.
23 Museenis hoolaa sana qalee dhiiga isaa irraa fuudhee fiixee gurra Aroon mirgaa,
quba abbuudduu harka isaa mirgaatii fi quba abbuudduu miilla isaa mirgaa dibe.
24 Ilmaan Aroonis gara fuula duraatti baasee dhiiga fuudhee fiixee gurra isaanii
mirgaa, quba abbuudduu harka isaanii mirgaatii fi quba abbuudduu miilla isaanii
mirgaa ittiin tuqe. Ergasiis dhiiga sana iddoo aarsaatti gama hundaan facaase.
25 Innis cooma, duboo, moora naannoo mi'a garaa jiru, haguuggii tiruu, kalee
lamaanii fi moora isaanii, tafa mirgaa fuudhe. 26 Ergasiis gundoo maxinoo baatu
kan fuula WAAQAYYOO dura ture sana irraa maxinoo tokko, maxinoo zayitiidhaan
tolfame tokkoo fi bixxillee tokko fuudhe; waan kanas cooma sanaa fi tafa mirgaa irra
kaa'e. 27 Innis wantoota kanneen hunda harka Aroonii fi harka ilmaan isaa keessa
kaa'ee aarsaa sochoofamu godhee fuula WAAQAYYOO duratti sochoose. 28 Museenis
wantoota kanneen harka isaaniitii fuudhee aarsaa ittiin luba ta'an kan ibiddaan
WAAQAYYOOF dhi'eeffamu, foolii namatti tolu, aarsaa nyaataa godhee iddoo aarsaa
irratti aarsaa gubamu gubbaatti gube. 29 Museenis handaraafa fuudhee aarsaa
sochoofamu godhee fuula WAAQAYYOO duratti sochoose; kunis akkuma WAAQAYYO isa
ajajetti qooda Museen korbeessa hoolaa ittiin luba ta'an irraa argatuu dha.

30 Ergasiis Museen zayitii ittiin dibanii fi dhiiga iddoo aarsaa irra jiru irraa fuudhee
Aroonii fi uffata isaatti, ilmaan isaattii fi uffata isaaniitti facaase; akkasiinis Aroonii
fi uffata isaa, ilmaan isaatii fi uffata isaanii qulqulleesse.

31 Museenis Aroonii fi ilmaan isaatiin akkana jedhe; "Foon sana balbala dunkaana
wal ga'ii duratti affeellaa; akkuma ani 'Aroonii fi ilmaan isaa haa nyaatan' jedhee
ajajetti foon sana buddeena gundoo aarsaan ittiin luboota ta'an keessa kaa'amu
sana keessa jiru wajjin achumatti nyaadhaa. 32 Foonii fi buddeena hafu immoo
ibiddaan gubaa. 33 Sababii luba ta'uun keessan bultii torba fudhatuuf hamma yeroon
luba ta'uu keessanii raawwatutti bultii torba balbala dunkaana wal ga'ii duraa hin
deeminaa. 34 Waan har'a hojjetame kana WAAQAYYOTU araara isinii buusuuf akka
hojjetamu ajaje. 35 Isin akka hin duuneef bultii torba halkanii fi guyyaa balbala
dunkaana wal ga'ii dura turaatii waan WAAQAYYO isin irraa barbaadu hojjedhaa;
wanni ani ajajame kanaatii."

36 Aroonii fi ilmaan isaa waan WAAQAYYO karaa Museetiin ajaje hunda hojjetan.

# 9

*Luboonni Tajaajila Isaanii Jalqaban*

1 Museen bultii saddeettaffaatti Aroon, ilmaan Aroonii fi maanguddoota Israa'el
waame; 2 Arooniinis akkana jedhe; "Aarsaa cubbuutiif dibicha tokko, aarsaa
gubamuuf immoo korbeessa hoolaa tokko kanneen hir'ina hin qabne fuudhii fuula
Waaqayyoo duratti dhi'eessi. 3 Ergasiis Israa'elootaan akkana jedhi: 'Aarsaa cub-
buutiif korbeessa re'ee tokko, aarsaa gubamuuf immoo dibicha tokkoo fi korbeessa
hoolaa kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi kanneen hir'ina hin
qabne, 4 aarsaa nagaatiif immoo sangaa tokkoo fi korbeessa hoolaa tokko, kennaa
midhaanii kan zayitiidhaan sukkuumame wajjin fuula Waaqayyoo duratti aarsaa
gochuuf dhi'eessi. Har'a Waaqayyo isinitti mul'ataatii.' "

5 Isaanis waan Museen isaan ajaje sana fuula dunkaana wal ga'ii duratti fidan;
waldaan hundinuus dhufee fuula Waaqayyoo dura dhaabate. 6 Museenis, "Akka
ulfinni Waaqayyoo isinitti mul'atuuf wanni Waaqayyo akka isin gootan isin ajaje
kana" jedhe.

7 Ergasii Museen Arooniin akkana jedhe; "Gara iddoo aarsaa kottuutii aarsaa
cubbuu keetiitii fi aarsaa kee kan gubamu dhi'eeffadhuutii ofii keetii fi sabaaf araara
buusi; akkuma Waaqayyo ajajettis aarsaa sabaa dhi'eessiitii araara isaaniif buusi."

8 Aroon gara iddoo aarsaa dhufee dibicha aarsaa kan sababii cubbuu isaatiif
dhi'aate sana qale. 9 Ilmaan isaas dhiiga isatti fidan; inni immoo dhiiga sana keessa
quba isaa cuuphee gaanfawwan iddoo aarsaa dibe; dhiiga hafe immoo miiloo iddoo
aarsaa jalatti dhangalaase. 10 Innis akkuma Waaqayyo Musee ajajetti aarsaa cubbuu
sana irraa moora, kaleewwanii fi haguuggii tiruu iddoo aarsaa irratti gube; 11 foonii
fi gogaa isaa immoo qubata keessaa baasee gube.

12 Inni ergasii aarsaa gubamu qale. Ilmaan isaas dhiiga fidanii itti kennan;
innis iddoo aarsaa irratti gama hundaan facaase. 13 Isaanis aarsaa gubamu bu'aa
bu'aadhaan, mataa wajjin isatti kennan; innis iddoo aarsaa irratti gube. 14 Mi'a
garaatii fi luka qalma sanaas dhiqee iddoo aarsaa irratti, aarsaa gubamu gubbaatti
gube.

15 Itti aansees Aroon aarsaa sabaa dhi'eesse; re'ee aarsaa cubbuu sabaatiif
dhi'eeffamu sana fuudhee qale; akkuma duraan hojjetettis aarsaa cubbuu godhee
dhi'eesse.

16 Innis aarsaa gubamu fidee akkuma ajajametti dhi'eesse. 17 Kennaa midhaaniis
fidee konyee tokko irraa fuudhee aarsaa ganama ganama gubamu irratti dabalee
iddoo aarsaa irratti gube.

18 Aroonis sangaa fi korbeessa hoolaa sana aarsaa nagaa kan sabaaf jedhamee
dhi'eeffamu godhee qale. Ilmaan isaa immoo dhiiga fidanii isatti kennan; innis
dhiiga sana iddoo aarsaa irratti gama hundaan facaase. 19 Cooma sangaatii fi
korbeessa hoolaa sanaa jechuunis duboo, moora mi'a garaa haguugu, kaleewwanii fi
haguuggii tiruu, 20 handaraafota irra kaa'an; Aroonis cooma sana iddoo aarsaa irratti
gube. 21 Aroonis akkuma Museen isa ajajetti handaraafotaa fi tafa mirgaa aarsaa
sochoofamu godhee fuula Waaqayyoo duratti sochoose.

22 Aroon harka isaa sabatti bal'isee isaan eebbise. Erga aarsaa cubbuu, aarsaa
gubamuu fi aarsaa nagaa dhi'eessee booddees gad bu'e.

23 Musee fi Aroonis dunkaana wal ga'ii seenan; yommuu achii ba'anittis saba
eebbisan; ulfinni Waaqayyoos saba hundatti mul'ate. 24 Ibiddis Waaqayyo biraa ba'ee
aarsaa gubamuu fi cooma iddoo aarsaa irra ture sana fixe; sabni hundis waan kana
argee ililche; adda isaatiinis gombifamee sagade.

# 10

*Naadaabii fi Abiyuud Du'an*

1 Ilmaan Aroon jechuunis Naadaabii fi Abiihuu girgiraa isaanii fudhatanii ibidda
itti naqanii ixaana irratti firfirsan; isaanis ibidda hin eeyyamamne kan Inni hin ajajin
fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eessan. 2 Kanaafuu ibiddi WAAQAYYO biraa ba'ee gubee
isaan fixe; isaanis fuula WAAQAYYOO duratti dhuman. 3 Museenis Arooniin akkana
jedhe; "Wanni WAAQAYYO dubbate kanaa dha:

" 'Ani warra natti dhi'aatan gidduutti,
qulqullina koo nan argisiisa;
saba hunda durattis
ani nan ulfaadha.' "

Aroon immoo ni cal'ise.

4 Museenis Miishaa'eelii fi Elzaafaan ilmaan Uzii'eel obboleessa abbaa Aroon sanaa
ofitti waamee, "Kottaatii durbiiwwan keessan fuula iddoo qulqulluu duraa fuudhaatii
qubata keessaa gad baasaa" jedhe. 5 Jarris dhufanii akkuma Museen ajajetti akkuma
isaan kittaa isaanii uffatanii jiranitti fuudhanii qubata keessaa gad isaan baasan.

6 Ergasii Museen Aroonii fi ilmaan Aroon, Ele'aazaarii fi Iitaamaariin akkana jedhe;
"Mataa keessan filachuu hin dhiisinaa; wayyaa keessanis hin tarsaasinaa; yoo kanaa
achii isin ni duutu; WAAQAYYOs saba guutuutti dheekkama. Garuu firoonni keessan
manni Israa'el hundi warra WAAQAYYO ibiddaan balleesse sanaaf boo'uu danda'u.
7 Sababii zayitiin WAAQAYYOO kan ittiin diban isin irra jiruuf isin balbala dunkaana
wal ga'ii duraa hin deeminaa; yoo kanaa achii ni duutu." Isaanis akkuma Museen
isaan ajaje godhan.

8 WAAQAYYOs Arooniin akkana jedhe; 9 "Atii fi ilmaan kee yommuu dunkaana wal
ga'ii ol seentanitti daadhii wayinii yookaan dhugaatii nama macheessu hin dhuginaa.
Yoo kanaa achii ni duutu. Wanni kun dhaloota dhufuuf seera bara baraa ta'a. 10 Isin
waan qulqulluu fi waan qulqulluu hin ta'in, waan xuraa'aa fi waan xuraa'aa hin ta'in
addaan baaftanii beekuu qabdu; 11 seera WAAQAYYO karaa Museetiin isaanii kenne
hundas saba Israa'el barsiisuu qabdu."

12 Museenis Aroonii fi ilmaan Aroon warra hafan jechuunis Ele'aazaarii fi Iitaa-
maariin akkana jedhe; "Kennaa midhaanii kan aarsaawwan ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi'eeffaman sana irraa hafe fuudhaatii utuu inni hin bukaa'in tolchaatii iddoo
aarsaa biratti nyaadhaa; aarsaan kun waan hunda caalaa qulqulluudhaatii. 13 Wanni
kun aarsaawwan ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffaman keessaa sababii qooda keetii
fi qooda ilmaan keetii ta'eef lafa qulqulluutti nyaadhaa; ani akkana ajajameeraatii.
14 Garuu ati, ilmaan keetii fi intallan kee handaraafa sochoofamee fi tafa dhi'eeffame
sana nyaachuu dandeessu. Waan kanas iddoo seeraan qulqulluu ta'etti nyaadhaa.
Wanni kun qooda keetii fi qooda ilmaan keetii ta'ee aarsaa nagaa kan saba Israa'el
irraa isiniif kennamee dhaatii. 15 Tafni dhi'eeffamee fi handaraafni sochoofame
sun akka aarsaa sochoofamu tokkootti akka fuula WAAQAYYOO duratti sochoofamuuf
cooma aarsaa ibiddaan dhi'eeffame wajjin fidamuu qaba; kunis akkuma WAAQAYYO
ajajetti qooda keetii fi qooda ilmaan keetii kan bara baraa ti."

16 Museenis re'ee aarsaa cubbuu sana jabeessee barbaade; kunoo re'een sun
gubamee ture; innis ilmaan Aroon warra hafanitti jechuunis Ele'aazaarii fi Iitaa-
maaritti aaree akkana jedhee isaan gaafate; 17 "Isin maaliif aarsaa cubbuu sana
iddoo qulqulluutti hin nyaatin? Aarsaan sun waan hunda caalaa qulqulluu dha;
innis akka isin fuula WAAQAYYOO duratti araara isaaniif buusuudhaan yakka sabaa
balleessitaniif isiniif kenname. 18 Kunoo, dhiigni isaa Iddoo Qulqulluutti ol hin
galfamne; isin akkuma ani ajajetti re'ee sana naannoo Iddoo Qulqulluutti nyaachuu
qabdu ture."

[19] Aroonis Museedhaan akkana jedhe; "Kunoo, isaan har'a aarsaa isaanii kan
cubbuutii fi aarsaa isaanii kan gubamu fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eessaniiru;
garuu wanni akkasii kun na qaqqabeera. Utuu ani aarsaa cubbuu sana har'a
nyaadhee jiraadhee silaa wanni sun fuula WAAQAYYOO duratti ni fudhatama turee?"
[20] Museenis yommuu waan kana dhaga'etti ni gammade.

# 11

*Nyaata Qulqulluu fi Nyaata Qulqulluu Hin Ta'in*
*11:1-23 kwf – KeD 14:3-20*

[1] WAAQAYYOS Musee fi Arooniin akkana jedhe; [2] "Israa'elootaan akkana jedhaa:
'Bineensota lafa irra jiraatan hunda keessaa kanneen isin nyaachuu dandeessan isaan
kanaa dha: [3] Bineensa kotteen isaa guutumaan guutuutti baqaqaa ta'e kan alala
guuru kam iyyuu nyaachuu dandeessu.

[4] " 'Kanneen alala qofa guuran yookaan kotteen isaanii qofti baqaqaa ta'e garuu
nyaachuu hin qabdan. Gaalli yoo alala guure iyyuu kottee baqaqaa hin qabu; inni
isiniif qulqulluu miti. [5] Osoleen yoo alala guurte iyyuu kottee baqaqaa hin qabdu;
isheen isiniif qulqulluu miti. [6] Illeettiin yoo alala guurte iyyuu kottee baqaqaa hin
qabdu; isheen isiniif qulqulluu miti. [7] Booyyeen yoo kottee baqaqaa qabaate iyyuu
alala hin guuru; inni isiniif qulqulluu miti. [8] Isin foon isaanii nyaachuu yookaan raqa
isaanii tuquu hin qabdan; isaan isiniif qulqulluu miti.

[9] " 'Uumamawwan bishaan galaanotaa fi bishaan lageenii keessa jiraatan hunda
keessaa kanneen qoochoo fi qola qaban kam iyyuu nyaachuu dandeessu. [10] Garuu
uumamawwan galaanotaa fi lageen keessa jiraatan kanneen qoochoo fi qola hin
qabne hundi, uumamawwan bishaan keessa munyuuqan hundi yookaan kanneen
bishaan keessa jiraatan hundi isiniif xuraa'oo haa ta'an. [11] Isaan isin duratti xuraa'oo
waan ta'aniif foon isaanii hin nyaatinaa; raqni isaaniis xuraa'aa haa ta'u. [12] Wanni
bishaan keessa jiraatu kan qoochoo fi qola hin qabne kam iyyuu isiniif xuraa'aa haa
ta'u.

[13] " 'Isaan kunneen simbirroota isin jibbuu qabdanii dha; hin nyaataman; isaan
xuraa'oo dha: risaa, rumicha, rumicha gurraacha, [14] culullee, culullee gurraacha gosa
garaa garaa, [15] arraagessa gosa garaa garaa, [16] guchii, urunguu, allaattii bishaanii,
coroffee gosa garaa garaa, [17] urunguu xinnaa, daakiyyee, urunguu guddaa, [18] urunguu
adii, urunguu gammoojjii, allaattii raqaa, [19] huummoo, huummoo gosa kamii iyyuu,
haadha gaayyee, simbira halkanii.

[20] " 'Ilbiisonni barrisan kanneen miilla afraniinuu deeman hundi isiniif xuraa'oo
haa ta'ani. [21] Ta'us ilbiisonni barrisan kanneen miilla afraniinuu deeman keessaa
tokko tokko nyaachuu ni dandeessu; isaanis warra ittiin lafa irra utaaluuf miilla
dadacha'u qabanii dha. [22] Isaan keessaas hawwaannisa gosa garaa garaa, hawwaan-
nisa magariisa garaa garaa, farda waaqaa garaa garaa fi korophisa garaa garaa
nyaachuu dandeessu. [23] Garuu ilbiisota barrisan kanneen miilla afur qaban biraa
hundi isiniif xuraa'oo haa ta'an.

[24] " 'Isin wantoota kanneeniin of xureessitu; namni raqa isaanii tuqu kam iyyuu
hamma galgalaatti xuraa'aa dha. [25] Namni reeffa isaanii tokko illee lafaa fuudhu
kam iyyuu uffata isaa miiccachuu qaba; inni hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a.

[26] " 'Bineensi kottee baqaqaa qabu kan kotteen isaa guutumaan guutuutti gargar
hin qoodamin yookaan alala hin guurre kam iyyuu isiniif xuraa'aa dha; namni raqa
isaanii tuqu kam iyyuus xuraa'aa ta'a. [27] Bineensota miilla afuriin deeman hunda
keessaa kanneen faanaan ejjetan isiniif xuraa'oo dha; namni raqa isaanii tuqu kam
iyyuus hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a. [28] Namni raqa isaanii lafaa fuudhu kam

iyyuu uffata isaa miiccachuu qaba; inni hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a. Isaanis isiniif xuraa'oo dha.
29 " 'Uumamawwan lafa irra munyuuqan keessaa isaan kunneen isiniif xuraa'oo
dha; isaanis: tuqaa, hantuuta, loccuu gurguddaa gosa gosaa, 30 loccuu cirrachaa,
naacha, qarcoo, qarcabboo fi gaararraa dha. 31 Uumamawwan lafa irra munyuuqan
keessaa isaan kunneen isiniif xuraa'oo dha; namni raqa isaanii tuqus hamma
galgalaatti xuraa'aa ta'a. 32 Uumamawwan sana keessaa tokko yoo du'ee mi'a wayii
irra bu'e, mi'i sun faayidaan isaa waan fedhe iyyuu ta'u, inni muka irraa, huccuu irraa, gogaa irraa yookaan keeshaa irraa hojjetamu illee mi'i sun xuraa'aa ta'a; mi'a sana bishaan keessa buusaa. Innis hamma galgalaatti xuraa'aa ta'ee ergasii
immoo qulqulluu ta'a. 33 Isaan keessaa tokko okkotee keessa yoo bu'e, wanni okkotee
sana keessa jiru hundi xuraa'aa ta'a; isinis okkotee sana cabsuu qabdu. 34 Nyaanni
nyaatamuu danda'u kan garuu bishaan okkotee akkasii keessaa itti naqame kam iyyuu xuraa'aa dha; dhugaatiin okkotee sana keessaa dhugamuu danda'u kam iyyuus
xuraa'aa dha. 35 Wanni raqa uumamawwan kanaa keessaa tokko iyyuu irra bu'u
kam iyyuu xuraa'aa ta'a; eeleen yookaan okkoteen waa itti bilcheessan cabsamuu
qaba. Isaan xuraa'oo dha; isinis akka mi'a xuraa'aatti isaan ilaalaa. 36 Burqaan
yookaan boolli bishaan itti kuufamu immoo qulqulluu ta'ee tura; garuu namni raqa
kana keessaa tokko illee tuqu xuraa'aa dha. 37 Raqni tokko sanyii facaafamuuf jiru
irra yoo bu'e sanyiin sun qulqulluu ta'ee hafa. 38 Garuu sanyii sana irratti bishaan
naqamee raqni wayii yoo irra bu'e sanyiin sun isiniif xuraa'aa dha.
39 " 'Horiin akka isin nyaattaniif isiniif eeyyamame tokko yoo du'e, namni raqa
isaa tuqe kam iyyuu hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a. 40 Namni raqa sana irraa waa
nyaatu wayyaa isaa miiccachuu qaba; inni hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a. Namni raqa sana lafaa fuudhe wayyaa isaa miiccadhuu qaba; innis hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a.
41 " 'Uumamni lafa irra munyuuqu kam iyyuu xuraa'aa dha; nyaatamuus hin
qabu. 42 Uumama lafa irra loo'u kan garaadhaan lafa irra loo'u yookaan miilla afuriin yookaan miilla hedduun deemu kam iyyuu hin nyaatinaa; inni xuraa'aa
dha. 43 Uumamawwan kanneen keessaa tokkoon iyyuu of hin xureessinaa. Isin akka
xuraa'oo hin taaneef isaaniin of hin xureessinaa. 44 Ani WAAQAYYO Waaqa keessanii dha; waan ani qulqulluu ta'eef isinis of qulqulleessaatii qulqulloota ta'aa. Uumama
lafa irra munyuuqu kamiin iyyuu of hin xureessinaa. 45 Ani WAAQAYYO kan Waaqa
keessan ta'uuf jedhee biyya Gibxiitii isin baasee dha; kanaafuu ani qulqulluudhaatii isinis qulqulluu ta'aa.
46 " 'Seerri waa'ee horii, simbirroo, lubbuu qabeeyyii bishaan keessa munyuuqan
hundaa fi uumama lafa irra munyuuqu hundaa kanaa dha. 47 Isin waan xuraa'aa fi
waan qulqulluu, uumama nyaatamuu fi kan hin nyaatamne addaan baaftanii beekuu qabdu.' "

# 12

### *Da'umsa Booddee Qulqullaa'uu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Israa'elootaan akkana jedhi: 'Dubartiin ulfooftee ilma deessee jirtu akka seeraatti akkuma yeroo xurii of irraa qabdu sanaatti
bultii torbaaf xurooftuu taati. 3 Ilmi sunis guyyaa saddeettaffaatti dhagna haa
qabatu. 4 Ergasiis dubartiin sun dhiiga ishee irraa qulqulleeffamuuf bultii soddomii sadii eeggachuu qabdi. Ishee hamma yeroon qulqulleeffamuu ishee raawwatamutti
waan qulqulluu hin tuqin yookaan gara iddoo qulqulluu hin dhaqin. 5 Isheen yoo
durba deessee jiraatte akkuma yeroo xurii of irraa qabdu sanaatti torban lamaaf

xurooftuu taati; ergasii immoo dhiiga ishee irraa qulqulleeffamuuf bultii jaatamii
ja’a eeggachuu qabdi.
6 “ ‘Isheen gaafa yeroon qulqulleeffamuu ishee kan sababii ilmaa yookaan intalaa
raawwatamutti, xobbaallaa hoolaa kan waggaa tokkoo aarsaa gubamuuf, gugee
sookkee tokko yookaan gugee tokko aarsaa cubbuutiif balbala dunkaana wal ga’ii
duratti gara lubaa haa fiddu. 7 Innis isheedhaaf araara buusuuf jedhee waan kana
fuula WAAQAYYOO duratti aarsaa dhi’eessa; isheenis ergasii akka seeraatti dhangala’aa
dhiiga ishee irraa qulqulloofti.
“ ‘Seerri dubartii ilma yookaan durba deessuu kanaa dha. 8 Isheen yoo xobbaallaa
hoolaa fiduu hin dandeenye, gugee lama yookaan gugee sosookkee lama, tokko aarsaa
gubamuuf kaan immoo aarsaa cubbuutiif haa fiddu. Haala kanaan lubichi isheedhaaf
araara buusa; isheenis ni qulqulloofti.’ ”

# 13

*Seera Dhukkuba Gogaa kan Namatti Darbuu*

1 WAAQAYYOS Musee fi Arooniin akkana jedhe; 2 “Namni yoo gogaa dhagna isaa
irraa iitoo yookaan finniisa yookaan baarolee qabaatee wanni sun gogaa dhagna
isaa irratti gara lamxiitti geeddarame, namichi sun gara Aroon lubichaatti yookaan
ilmaan isaa luboota keessaa gara isa tokkootti haa geeffamu. 3 Lubni sun madaa
gogaa dhagna namichaa irra jiru haa qoru; yoo rifeensi madaa sana irra jiru addaatee
madaan sun gogaa keessa darbee foonitti gad seene, dhukkubni sun dhukkuba lamxii
ti. Lubichis erga isa qoree booddee akka inni akka seeraatti xuraa’aa ta’e haa labsu.
4 Yoo baaroleen gogaa namichaa irra jiru addaatee garuu gogaa keessa darbee foonitti
gad hin seenin, yoo rifeensi madaa sana irra jirus hin addaatin, lubichi namicha
madaa’e sana bultii torba kophaatti baasee haa tursu. 5 Bultii torbaffaatti immoo
lubichi isa haa qoru; lubni yoo akka madaan sun hin geeddaraminii fi akka inni gogaa
namichaa irra hin faffaca’in arge ammas bultii torba kophaatti baasee isa haa tursu.
6 Amma illee lubichi bultii torbaffaatti namicha haa qoru; kunoo, yoo madaan sun
qooree gogaa irra hin faffaca’in, lubichi akka namichi qulqulluu ta’e haa labsu; wanni
sun cittoo dha. Namichi wayyaa isaa haa miiccatu; inni ni qulqullaa’a. 7 Garuu inni
erga qulqulluu ta’uun isaa akka labsamuuf lubatti of argisiisee booddee yoo cittoon
sun gogaa isaa irra faffaca’e inni amma illee lubatti of argisiisuu qaba. 8 Lubichis isa
haa qoru; yoo cittoon sun gogaa irra faffaca’ee jiraate lubichi akka inni xuraa’aa ta’e
haa labsu; wanni kun lamxii dha.
9 “Namni yoo lamxii qabaate inni lubatti fidamuu qaba. 10 Lubichi isa haa qoru;
kunoo yoo iiti adiin kan rifeensa addeesse gogaa irra jiraatee fi foon iita sanaa
diimatee mul’ate, 11 wanni sun dhukkuba gogaa kan hin fayyinee dha; lubichis
akka namichi xuraa’aa ta’e haa labsu. Waan inni duraanuu xuraa’aa ta’eef lubichi
kophaatti baasee isa tursuun barbaachisaa miti.
12 “Dhukkubni sun hamma lubni arguu danda’utti gogaa isaa irra yoo faffaca’ee
gogaa namicha madaa’e sanaa mataadhaa hamma miillaatti haguuge, 13 lubichi isa
haa qoru; kunoo yoo dhukkubni sun guutumaan guutuutti dhagna namichaa wal ga’e
inni akka namichi qulqulluu ta’e haa labsu. Waan dhagni isaa guutuun addaateef
namichi sun qulqulluu dha. 14 Inni garuu yeroo iita foon isaa keessaan diimatee
mul’atu qabaatu xuraa’aa dha. 15 Lubichi yeroo foon diimatee mul’atu argutti
akka namichi sun xuraa’aa ta’e haa labsu; foon diimate xuraa’aa dha; namichis
lamxii qaba. 16 Yookaan yoo foon diimaan geeddaramee addaate namichi lubatti
of argisiisuu haa dhaqu. 17 Lubnis isa haa qoru; yoo madaan sun addaate lubichi
akka namichi madaa’e sun qulqulluu ta’e haa labsu; namichis ni qulqullaa’a.

[18] “Namni gogaa isaa irraa dhullaa yoo qabaatee dhullaan sun fayyee jiraate, [19] yoo
iddoo dhullaan ture sanatti iiti adiin yookaan baaroleen diimaan adiin mul’ate inni
lubatti of haa argisiisu. [20] Lubnis isa haa qoru; kunoo yoo wanni sun waan gogaa
keessa darbee foon seene fakkaatee rifeensi isa keessaas addaate lubichi akka inni
xuraa’aa ta’e haa labsu. Wanni kun dhukkuba lamxii iddoo dhullaan turetti ba’ee
dha. [21] Garuu yommuu lubni baarolee sana qorutti, kunoo yoo rifeensi adiin irra hin
jiraatinii fi yoo baaroleen sun utuu gogaa darbee foon hin seenin qooree jiraate lubni
kophaatti baasee bultii torba isa haa tursu. [22] Yoo baaroleen sun gogaa irra faffaca’e,
lubichi akka namni sun xuraa’aa ta’e haa labsu; kun dhukkuba namatti darbuu dha.
[23] Garuu baaroleen sun yoo hin geeddaraminii fi yoo hin faffaca’in, inni godaannisa
dhullaa sanaa ti; lubnis akka namichi qulqulluu ta’e haa labsu.

[24] “Yoo namni gogaa isaa irraa gubaa qabaatee foon diimaa iddoo gubamaa sanaa
irratti baaroleen diimaan adiin yookaan adiin mul’ate, [25] lubni baarolee sana haa
qoru; kunoo yoo rifeensi achi irra jiru addaatee baaroleen sunis gogaa keessa darbee
foon seene wanni kun lamxii iddoo gubate sana irratti ba’uu dha. Lubichi akka
namni sun xuraa’aa ta’e haa labsu; dhukkubni kun dhukkuba lamxii ti. [26] Garuu
yoo lubni iddoo gubate sana qoree rifeensi adiin baarolee sana irra hin jiraatinii fi
yoo baaroleen sun utuu gogaa keessa darbee foon hin seenin qooree jiraate lubichi
namicha sana kophaatti baasee bultii torba haa tursu. [27] Guyyaa torbaffaatti lubichi
isa haa qoru; yoo baaroleen sun gogaa irra faffaca’ee jiraate lubni sun akka namichi
xuraa’aa ta’e haa labsu; dhukkubni kun dhukkuba lamxii ti. [28] Ta’us yoo baaroleen
sun hin geeddaraminii fi utuu gogaa irra hin faffaca’in bade wanni kun iitoo gubaa
sana keessa ba’ee dha. Lubichi akka namichi qulqulluu ta’e haa labsu; wanni kun
godaannisa gubaa sanaa ti.

[29] “Yoo dhiirri yookaan dubartiin mataa irraa yookaan areeda irraa madaa
qabaatan, [30] lubni madaa sana haa qoru; kunoo yoo madaan sun gogaa keessa darbee
foon seenee rifeensi achi irra jiru keelloo fakkaatee qaqal’ate, lubichi akka namichi
sun xuraa’aa ta’e haa labsu; kun hooqxoo mataa yookaan areedaa kan namatti
darbuu dha. [31] Garuu yeroo lubni madaa akkanaa qorutti kunoo yoo madaan sun
waan gogaa darbee foon seene hin fakkaatinii fi yoo rifeensi gurraachi tokko iyyuu
madaa sana irra hin jiraatin lubni sun namicha hooqxoon qabe sana kophaatti baasee
bultii torba haa tursu. [32] Guyyaa torbaffaatti lubni madaa sana haa qoru; kunoo
yoo hooqxoon sun hin faffaca’in, yoo rifeensi keelloon achi irra hin jiraatinii fi
hooqxoon sun waan gogaa keessa darbee foon seene hin fakkaatin, [33] namichi sun
iddoo madaa’e sana qofa dhiisee mataa isaa haa haadatu; lubni sunis ammas namicha
sana kophaatti baasee bultii torba haa tursu. [34] Guyyaa torbaffaattis lubni sun
hooqxoo sana haa qoru; kunoo yoo hooqxoon sun gogaa irra hin faffaca’inii fi waan
gogaa keessa darbee foon seene hin fakkaatin lubichi akka namichi sun qulqulluu
ta’e haa labsu; namichi wayyaa isaa haa miiccatu; innis ni qulqullaa’a. [35] Garuu
erga akka namichi qulqulluu ta’e labsamee booddee yoo hooqxoon sun gogaa irra
faffaca’e, [36] lubni isa haa qoru; kunoo yoo hooqxoon sun gogaa irra faffaca’ee jiraate
lubichi rifeensa keelloo sakatta’uu hin qabu; namichi sun xuraa’aa dha. [37] Garuu
akka hubannaa lubichaatti hooqxoon sun geeddaramuu baatee rifeensi gurraachi
irratti biqillaan hooqxoon sun fayyeera; namichis qulqulluu dha; lubnis akka inni
qulqulluu ta’e haa labsu.

[38] “Yommuu dhiirri yookaan dubartiin gogaa dhagna isaa irraa baarolee
qabaatanitti, [39] lubni isaan haa qoru; kunoo yoo baaroleen sun adii daalacha ta’e
kun cittoo gogaa irratti ba’e kan nama hin miinee dha; namichis qulqulluu dha.

[40] “Namni yoo rifeensi mataa isaa dhumee molaa’e inni qulqulluu dha. [41] Yoo
rifeensi mataa isaa fuula duraan irraa dhumee molaa’es inni qulqulluu dha. [42] Garuu

inni yoo moluu mataa isaa irraa yookaan moluu adda isaa irraa madaa adii diimatu
qabaate wanni kun lamxii moluu mataa isaa yookaan moluu adda isaa keessaa ba’uu
dha. 43 Lubni isa haa qoru; kunoo yoo madaan iita’e kan mataa isaa irraa yookaan
adda isaa irraa sun akkuma lamxii gogaa irratti ba’ee adii diimatu ta’e, 44 namichi
dhukkubsataa fi xuraa’aa dha. Sababii madaa mataa namichaa irra jiru sanaatiifis
akka namichi xuraa’aa ta’e lubni sun haa labsu.
45 “Namni lamxii akkasii qabu uffata tatarsa’aa haa uffatu; rifeensa mataa isaatti
waa hin maratin; afaan isaas haguuggatee, ‘Ani xuraa’aa dha! Ani xuraa’aa dha!’
jedhee haa iyyu. 46 Inni hamma dhukkubni sun irra jirutti xuraa’aa dha; kophaa isaa
haa jiraatu; qubata keessaas ba’ee ala haa jiraatu.

### *Lamxii Uffata Irratti Mul’atu*

47 “Yoo uffanni suufii irraa yookaan quncee talbaa irraa hojjetame kam iyyuu,
48 uffanni quncee talbaa irraa yookaan suufii irraa dha’ame yookaan wal keessa
loofamee hojjetame kam iyyuu, gogaan yookaan wanni gogaa irraa hojjetame kam
iyyuu lamxii qabaate, 49 yoo dhukkubni uffata irra yookaan gogaa irra yookaan uffata
dha’ame irra yookaan wal keessa loofamee hojjetame irra yookaan mi’a gogaa irra
jiru sun magariisa ta’e yookaan diimate wanni kun waan lamxii ta’eef lubatti haa
argisiifamu. 50 Lubnis lamxii sana qoree mi’a dhukkubaan faalame sana kophaatti
baasee bultii torba haa tursu. 51 Guyyaa torbaffaatti lubichi lamxii sana haa qoru;
yoo lamxiin sun uffata irra yookaan wayyaa dha’ame irra yookaan uffata wal keessa
loofamee hojjetame irra yookaan gogaa waan kamiif iyyuu fayyadu irra faffaca’e
wanni kun lamxii hamaa dha; mi’i sunis xuraa’aa dha. 52 Sababii lamxiin sun
hamaa ta’eef lubichi uffata yookaan wayyaa suufii irraa yookaan quncee talbaa
irraa hojjetame yookaan wal keessa loofamee hojjetame yookaan mi’a gogaa irraa
hojjetame kan dhukkuba sanaan faalame kam iyyuu haa gubu; mi’i sunis gubamuu
qaba.
53 “Garuu yeroo lubni lamxii sana qorutti kunoo yoo lamxiin sun uffata irra
yookaan wayyaa dha’ame irra yookaan wal keessa loofamee hojjetame irra yookaan
mi’a gogaa irraa hojjetame irra faffaca’uu baate, 54 lubichi akka mi’i lamxiidhaan
faalame sun miiccamu haa ajaju. Ergasii immoo mi’a sana kophaatti baasee
ammas bultii torba haa tursu. 55 Erga mi’i lamxiidhaan faalame sun miiccamee
booddee lubichi mi’a sana haa qoru; lamxiin sun yoo faffaca’u baate illee bifti
isaa geeddaramuu baannaan uffanni sun xuraa’aa dha. Yoo lamxiin sun gama
tokkoon yookaan gama kaaniin mi’a sana faalee jiraate, mi’i sun ibiddaan haa
gubamu. 56 Erga mi’i sun miiccamee booddee yeroo lubni qorutti yoo lamxiin
sun badee jiraate lubichi iddoo lamxiidhaan faalame sana uffata yookaan gogaa
yookaan wayyaa dha’ame yookaan wal keessa loofamee hojjetame irraa haa tarsaasu.
57 Garuu yoo lamxiin sun deebi’ee uffata irratti yookaan wayyaa dha’ame irratti
yookaan wal keessa loofame hojjetame irratti yookaan mi’a gogaa irraa hojjetame
kam iyyuu irratti argame, lamxiin sun faffaca’aa jira; wanni lamxii qabu ibiddaan
haa gubamu. 58 Uffanni yookaan wayyaan dha’ame yookaan wal keessa loofamee
hojjetame yookaan mi’i gogaa irraa hojjetame kan miiccamee lamxiin irraa bade
kam iyyuu ammas haa miiccamu; innis ni qulqullaa’a.”
59 Wanni kun seera akka uffanni suufii irraa yookaan quncee talbaa irraa hojjetame,
wayyaan dha’ame yookaan wal keessa loofamee hojjetame yookaan mi’i gogaa irraa
hojjetamee lamxiidhaan faalame kam iyyuu xuraa’aa ta’ee fi akka hin ta’in labsuuf
kennamee dha.

## 14

### *Dhukkuba Lamxii Irraa Qulqullaa’uu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Kun seera nama lamxii qabu tokkoof
guyyaa inni itti qulqulleeffamuuf kennamee dha; namichi lubatti haa fidamu. 3 Lubni
sun iddoo qubataa keessaa gad ba'ee namicha haa qoru. Kunoo, yoo namichi lamxii
qabu sun fayyee jiraate, 4 lubichi akka sababii namicha qulqulleeffamu sanaatiif
simbirroonni lubbuu qaban qulqulluun lamaa fi mukni birbirsaa, kirriin bildiimaa
fi hiisophiin fidaman haa ajaju. 5 Lubni sunis ergasii akka simbirroota sana keessaa
isheen tokko bishaan yaa'u kan okkotee keessa jiru irratti qalamtu haa ajaju. 6 Innis
simbirroo lubbuu qabdu sana fuudhee muka birbirsaa, kirrii bildiimaa fi hiisophii
wajjin dhiiga simbirroo bishaan yaa'u irratti qalamte sanaa keessa haa cuuphu.
7 Lubichi namicha lamxii irraa qulqulleeffamu sanatti yeroo torba faffacaasee akka
inni qulqulluu ta'e haa labsu; ergasii simbirroo lubbuu qabdu sana dirreetti gad haa
dhiisu.

8 "Namichi qulqulleeffamu sun uffata isaa miiccachuu, rifeensa isaa hunda
haaddachuu fi dhagna isaa bishaaniin dhiqachuu qaba; akkasiin inni akka seeraatti
qulqulluu ta'a. Ergasii iddoo qubataatti ol galuu danda'a; garuu bultii torba
dunkaana isaatiin ala turuu qaba. 9 Guyyaa torbaffaattis rifeensa isaa hunda
haaddachuu qaba; mataa isaa, areeda isaa, nyaara isaatii fi rifeensa isaa biraa haa
haaddatu. Uffata isaas miiccatee dhagna isaa bishaaniin dhiqachuu qaba; innis ni
qulqullaa'a.

10 "Guyyaa saddeettaffaattis namichi sun korbeeyyii hoolaa kanneen hir'ina hin
qabne lamaa fi hoolaa dhalaa waggaa tokkoo kan hir'ina hin qabne tokko, daakuu
bullaa'aa iifii tokkoo kan zayitiidhaan sukkuumame irraa harka kudhan keessaa
harka sadii kan kennaa midhaaniitiif ta'uu fi zayitii loogii tokkoo haa fidu. 11 Lubni
akka namichi qulqulluu ta'e labsu sun namicha qulqulleefamu sanaa fi kennaawwan
isaa balbala dunkaana wal ga'ii irratti fuula WAAQAYYOO duratti haa dhi'eessu.

12 "Ergasiis lubichi korbeeyyii hoolaa sana keessaa tokko fuudhee aarsaa yakkaa
godhee loogii zayitii tokko wajjin haa dhi'eessu; innis aarsaa sochoofamu godhee
fuula WAAQAYYOO duratti haa sochoosu. 13 Xobbaallaa hoolaa sanas iddoo aarsaan
cubbuutii fi aarsaan gubamu itti qalamanitti haa qalu. Akkuma aarsaa cubbuu
sana aarsaan yakkaas kan lubaa ti; aarsaan kun waan hunda caalaa qulqulluu dha.
14 Lubichis dhiiga aarsaa yakkaa sana irraa fuudhee fiixee gurra mirgaa namicha
qulqulleeffamu sanaa, quba abbuudduu harka isaa mirgaatii fi quba abbuudduu
miilla isaa mirgaa haa dibu. 15 Lubni sun zayitii loogii sana irraa fuudhee barruu
harka isaa bitaatti haa naqu; 16 quba harka isaa mirgaas zayitii barruu harka isaa
irra jiru keessa cuuphee quba isaatiin yeroo torba fuula WAAQAYYOO duratti haa
facaasu. 17 Lubni sun zayitii barruu isaa irratti hafe irraa fuudhee fiixee gurra
mirgaa namicha qulqulleeffamuu qabu sanaa, quba abbuudduu harka isaa mirgaatii
fi quba abbuudduu miilla isaa mirgaa, dhiiga aarsaa yakkaa sana irratti dabalee
haa dibu. 18 Lubichi zayitii barruu harka isaa irratti hafe immoo mataa namicha
qulqulleeffamuu sanaatti naqee fuula WAAQAYYOO duratti araara haa buusuuf.

19 "Ergasiis lubichi aarsaa cubbuu dhi'eessee namicha xuraa'ummaa ofii irraa
qulqulleeffamu sanaaf araara haa buusu. Sana booddee lubni sun aarsaa gubamu
haa qalu; 20 kanas kennaa midhaanii wajjin iddoo aarsaa irratti dhi'eessee araara
isaaf haa buusu; namichis qulqulluu ta'a.

21 "Ta'us namichi sun yoo hiyyeessa ta'ee waan kana dhi'eessuu hin dandeenye,
akka sochoofamee araarri isaaf buufamuuf inni xobbaallaa hoolaa tokko aarsaa
yakkaa godhee daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumame kan kennaa midhaani-
itiif ta'u iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harka tokko zayitii loogii tokko wajjin
haa fidu; 22 akkasumas waan fiduu danda'u jechuunis gugee lama yookaan gugee
sosookkee lama, tokko aarsaa cubbuutiif kaan immoo aarsaa gubamuuf haa fidu.

23 “Guyyaa saddeettaffaatti inni qulqullaa’ummaa isaatiif balbala dunkaana wal
ga’ii irratti fuula WAAQAYYOO duratti waan kana lubatti haa fidu. 24 Lubni sunis
xobbaallaa hoolaa aarsaa yakkaa sana zayitii loogii tokko wajjin fuudhee aarsaa
sochoofamu godhee fuula WAAQAYYOO duratti haa sochoosu. 25 Xobbaallaa hoolaa
sanas aarsaa yakkaatiif qalee dhiiga isaa irraa fuudhee fiixee gurra mirgaa namicha
qulqulleeffamu sanaa, quba abbuudduu harka isaa mirgaatii fi quba abbuudduu
miilla isaa mirgaa haa dibu. 26 Lubichis zayitii sana irraa fuudhee barruu harka isaa
bitaa irratti haa naqu; 27 quba harka isaa mirgaatiinis zayitii barruu isaa irra jiru sana
irraa yeroo torba fuula WAAQAYYOO duratti haa facaasu. 28 Zayitii barruu isaa irra jiru
irraa fuudhee idduma dhiiga aarsaa yakkaa ittiin tuqe sana jechuunis fiixee gurra
namicha qulqulleeffamu sanaa mirgaa, quba abbuudduu harka isaa mirgaatii fi quba
abbuudduu miilla isaa mirgaa haa dibu. 29 Lubichis fuula WAAQAYYOO duratti araara
isaaf buusuuf zayitii barruu isaa irratti hafe sana mataa namicha qulqulleeffamu
sanaa irratti haa naqu. 30 Lubni sunis gugeewwan yookaan gugee sosookkee namichi
dhi’eessuu danda’u haa dhi’eessu; 31 isaan kanneen keessaas tokko aarsaa cubbuutiif,
kaan immoo aarsaa gubamuuf, kennaa midhaanii wajjin haa dhi’eessu. Haala
kanaanis lubichi namicha qulqulleeffamu sanaaf fuula WAAQAYYOO duratti araara
ni buusa.”
32 Kun seera nama lamxii qabaatee waan ittiin qulqulleeffamu baasuu hin
dandeenyeef kennamee dha.

### *Lamxii Irraa Qulqulleessuu*

33 WAAQAYYOS Musee fi Arooniin akkana jedhe; 34 “Yommuu isin biyya Kana’aan
kan ani akka dhaalaatti isiniif kennu sana seentanii anis mana biyya sanaa
keessaa tokkotti dhukkuba lamxii facaasutti, 35 abbaan mana sanaa deemee, ‘Ani
mana koo keessatti waan lamxii fakkaatu tokko argeera’ jedhee lubatti haa himu.
36 Lubichis akka wanni mana sana keessa jiru tokko iyyuu xuraa’aa dha jedhamee
hin labsamneef utuu lamxii sana qoruuf ol hin seenin dura akka mana sana keessaa
mi’i gad baafamu haa ajaju. Ergasii lubichi ol seenee manicha haa qoru. 37 Innis
lamxii keenyan manaa irra jiru haa qoru; yoo wanni sun dhooqa magariisa yookaan
diimatu qabaatee keenyan manaa keessa gad seene, 38 lubichi mana sana keessaa
balbalaan gad ba’ee bultii torbaaf mana sana haa cufu. 39 Guyyaa torbaffaatti lubichi
mana sana qoruuf haa deebi’u. Kunoo yoo lamxiin sun keenyan manaa irratti
babal’atee jiraate, 40 lubichi akka dhagaawwan faalaman achi keessaa baafamanii
lafa xuraa’aa magaalaan ala jirutti gataman haa ajaju. 41 Akka keenyan mana sanaa
karaa keessaatiin guutummaatti soqamee wanni irraa hooqame sunis lafa xuraa’aa
magaalaan ala jirutti gad gatamu haa godhu. 42 Iddoo dhagaawwan sun hooqamanii
ba’an sanas dhagaawwan haaraa fidanii iddoo haa buusan; dhoqqee haaraadhaanis
manicha haa maragan.
43 “Yoo lamxiin sun erga dhagaawwan ba’anii manichi hooqamee maragamee
booddee deebi’ee mana keessatti mul’ate, 44 lubichi dhaqee haa qoru; lamxiin sun
kunoo yoo mana keessa babal’atee jiraate, kun lamxii hamaa dha; manichis xuraa’aa
dha. 45 Manni sun haa diigamu; dhagaan isaa, mukni isaa akkasumas maraggiin isaa
hundinuu lafa xuraa’aa magaalaan ala jirutti haa gatamu.
46 “Namni yoo utuu manichi cufamee jiruu ol seene, namni sun hamma galgalaatti
xuraa’aa dha. 47 Namni mana sana seenee rafe yookaan keessatti waa nyaate uffata
isaa haa miiccatu.
48 “Garuu yoo lubni lamxii sana qoruudhaaf dhufee erga manichi maragamee
booddee lamxiin sun babal’achuu baate waan lamxiin sun badeef lubni sun akka
manni sun qulqullaa’e haa labsu. 49 Innis manicha qulqulleessuuf simbirroo lama,
muka birbirsaa, kirrii bildiimaa fi hiisophii haa dhi’eessu. 50 Innis simbirroo sana

keessaa tokko bishaan yaa’u kan okkotee keessa jiru irratti haa qalu. 51 Ergasiis
birbirsaa, hiisophii, kirrii bildiimaa fi simbirroo lubbuu qabdu sana fuudhee dhiiga
simbirroo qalamtee fi bishaan yaa’u keessa cuuphee yeroo torba mana sanatti haa
facaasu. 52 Innis dhiiga simbirrootiin, bishaan yaa’uun, simbirroo jirtuun, birbirsaan,
hiisophii fi kirrii bildiimaadhaan manicha haa qulqulleessu. 53 Simbirroo jirtuu
immoo magaalaan alatti baasee dirreetti gad haa dhiisu. Haala kanaanis manichaaf
araara buusa; manichis ni qulqullaa’a.”

54 Kun seera dhukkuba lamxiitii fi hooqxoodhaaf, 55 lamxii wayyaa irratti yookaan
mana keessatti mul’atuuf, 56 iitoodhaaf, finniisaaf yookaan baaroleedhaaf, 57 akka
wanni tokko qulqulluu yookaan xuraa’aa ta’e addaan baasuuf kennamee dha.

Kun seera lamxiidhaaf kennamee dha.

# 15

## *Dhangala’aa Dhagna Keessaa Ba’ee Nama Xureessu*

1 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe; 2 “Akkana jedhaatii Israa’elootatti
himaa; ‘Namni kam iyyuu dhangala’aa saala isaa keessaa ba’u yoo qabaate, inni
sababii dhangala’aa sanaatiifuu xuraa’aa dha. 3 Dhangala’aan sun ittuma fufee saala
isaa keessaa ba’us dhaabatus namicha inuma xureessa. Akki itti dhangala’aan saala
isaa keessaa ba’u sun isa xureessus kanaa dha.

4 “ ‘Sireen namni dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u irra ciisu hundinuu xuraa’aa
ta’a; wanni inni irra taa’u hundinuus xuraa’aa ta’a. 5 Namni siree namicha sanaa
tuqu uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaa bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma
galgalaatti xuraa’aa ta’a. 6 Namni waan namichi dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u
sun irra taa’e irra taa’u kam iyyuu uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaas bishaaniin
haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.

7 “ ‘Namni nama dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u sana tuqu uffata isaa haa
miiccatu; dhagna isaas bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.

8 “ ‘Yoo namni dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u sun nama qulqullaa’aa kamitti
iyyuu tufe, namichi itti tufame sun uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaa bishaaniin
haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.

9 “ ‘Kooraan namni dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u sun irra taa’u hundinuu
xuraa’aa ta’a. 10 Namni waan isa jala ture tuqu kam iyyuu hamma galgalaatti
xuraa’aa ta’a. Namni isaan kanneen lafaa fuudhu uffata isaa haa miiccatu; dhagna
isaa bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.

11 “ ‘Namni namichi dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u sun utuu harka isaa
bishaaniin hin dhiqatin tuqu kam iyyuu uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaa
bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.

12 “ ‘Okkoteen suphee kan namni dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u sun tuqu
haa caccabsamu; mi’i muka irraa hojjetame kam iyyuu bishaaniin haa dhiqamu.

13 “ ‘Namni yommuu dhangala’aan saala isaa keessaa ba’u irraa qulqulleeffamutti
akka seeraatti qulqulleeffamuu isaatiif bultii torba haa lakkaa’atu; uffata isaa haa
miiccatu; dhagna isaas bishaan yaa’uun haa dhiqatu; innis ni qulqullaa’a. 14 Innis
guyyaa saddeettaffaatti gugee lama yookaan gugee sosookkee lama qabatee fuula
WAAQAYYOO dura dhufee balbala dunkaana wal ga’ii irratti lubatti haa kennu.
15 Lubichis isa tokko aarsaa cubbuutiif kaan immoo aarsaa gubamuuf haa dhi’eessu.
Haala kanaanis lubni sun sababii dhangala’aa nama sanaatiif fuula WAAQAYYOO
duratti araara buusa.

16 “ ‘Namni tokko yommuu afeetaa dhangalaasutti dhagna isaa guutuu bishaaniin
haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a. 17 Uffanni yookaan itilleen
afeetaan tuqu kam iyyuu bishaaniin haa miiccamu; mi’i sun hamma galgalaatti

xuraa’aa ta’a. 18 Namni yoo niitii tokko wajjin ciisee afeetaa dhangalaase, lamaan
isaanii iyyuu bishaaniin dhagna isaanii haa dhiqatan; isaan hamma galgalaatti
xuraa’oo ta’u.
19 “ ‘Dubartiin yoo dhangala’aa dhiigaa kan yeroo isaa eeggatee dhagna ishee
keessaa ba’u qabaatte, isheen xuraa’ummaa xurii ji’aa isheetiin bultii torba turti;
namni ishee tuqu kam iyyuu hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.
20 “ ‘Wanni isheen yeroo xurii isheetti irra ciiftu xuraa’aa ta’a; wanni isheen irra
teessu kam iyyuus xuraa’aa ta’a. 21 Namni siree ishee tuqu uffata isaa haa miiccatu;
dhagna isaas bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a. 22 Namni
waan isheen irra teessu tuqu uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaas bishaaniin haa
dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a. 23 Namni yoo sirees ta’u waan isheen
irra taa’aa turte kam iyyuu tuqe inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.
24 “ ‘Namni yoo ishee wajjin ciisee xuraa’ummaan ishee isa tuqe, inni bultii torba
xuraa’aa ta’a; sireen inni irra ciisu kam iyyuus xuraa’aa ta’a.
25 “ ‘Dubartiin tokko yoo yeroo xurii ji’aa ishee malee guyyaa baay’eedhaaf
dhangala’a dhiigaa qabaatte yookaan yoo dhangala’a dhiigaa kan yeroo xurii ishee
booddees ittuma fufu qabaatte isheen akkuma yeroo xurii ishee sanatti hamma
dhangala’aan sun jirutti xurooftuu taati. 26 Sireen isheen yeroo dhangala’aan ishee
ittuma fufee yaa’utti irra ciiftu akkuma siree ishee kan yeroo xurii ji’aa ishee sanaatti
xuraa’aa ta’a; wanni isheen irra teessu kam iyyuu akkuma yeroo xurii isheetti
xuraa’aa ta’a. 27 Namni isaan tuqu kam iyyuu ni xuraa’a; inni uffata isaa haa
miiccatu; dhagna isaas bishaaniin haa dhiqatu; inni hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a.
28 “ ‘Isheen erga dhangala’aa ishee irraa qulqullooftee booddee guyyaa torba
haa lakkaa’attu; ergasii immoo akka seeraatti ni qulqulloofti. 29 Isheenis guyyaa
saddeettaffaatti gugee lama yookaan gugee sosookkee lama fuutee, balbala dunkaana
wal ga’ii irratti lubatti haa fiddu. 30 Lubichis isa tokko aarsaa cubbuutiif, kaan immoo
aarsaa gubamuuf haa dhi’eessu. Haala kanaanis sababii xuraa’ummaa dhangala’aa
isheetiif fuula Waaqayyoo duratti araara buusa.
31 “ ‘Isin akka Israa’eloonni iddoo bultii koo kan gidduu isaanii jiru sana xureessu-
udhaan xuraa’ummaa isaaniitiin hin duuneef waan isaan xureessu irraa addaan
isaan baasuu qabdu.’ ”
32 Wanni kun seera nama dhangala’aan saala isaa keessaa ba’uuf, nama afeetaan
saala isaa keessaa ba’u xureessuuf, 33 dubartii xurii ji’aa qabduuf, dhiira yookaan
dubartii dhangala’aan saala keessaa ba’uu fi nama dubartii akka seeraatti qulqulluu
hin ta’in tokko wajjin ciisu kamiif iyyuu kennamee dha.

# 16

*Guyyaa Itti Araarri Bu’u*
*16:2-34 kwf – Lew 23:26-32; Lak 29:7-11*

1 Waaqayyos du’a ilmaan Aroon kanneen yeroo fuula Waaqayyoo duratti
dhi’aatanitti du’an sana lamaanii booddee Museetti dubbate. 2 Waaqayyo Museed-
haan akkana jedhe; “Sababii ani teessoo araaraa gararraatti duumessaan mul’adhuuf
akka obboleessi kee Aroon yeruma fedhetti gara Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu
kan golgaa keessa fuula teessoo araaraa dura taabota irra jiru sanaa ol hin seenne
itti himi; yoo kanaa achii inni ni du’a.
3 “Akki Aroon itti Iddoo Iddoo Hunda Caalaa qulqulluu sana seenu kanaa dha:
Aarsaa cubbuutiif dibicha tokko, aarsaa gubamuuf immoo korbeessa hoolaa tokko
haa fidu. 4 Innis kittaa quncee talbaa irraa hojjetame qulqulluu isaatii fi uffata
dhagna isaatti aanu kan quncee talbaa irraa hojjetame haa kaa’atu. Sabbata quncee
talbaa irraa hojjetame hidhatee marata mataa kan quncee talbaa irraa hojjetames haa

maratu; kunneen uffata qulqulluu dha. Kanaafuu inni utuu uffata sana hin uffatin
dhagna isaa bishaaniin haa dhiqatu. 5 Waldaa saba Israa'el irraas aarsaa cubbuutiif
korommii re'ee lama, aarsaa gubamuuf immoo korbeessa hoolaa tokko haa fuudhu.

6 "Aroon aarsaa cubbuu ofii isaatiif dibicha sana dhi'eessee ofii isaatii fi warra
mana isaa jiraniif araara haa buusu. 7 Ergasiis re'oota lamaan sana fuudhee balbala
dunkaana wal ga'ii irratti fuula WAAQAYYOO duratti haa dhi'eessu. 8 Aroonis re'oota
sana lamaanitti ixaa haa buusu; ixaa tokko WAAQAYYOOF, kaan immoo re'ee gad
lakkifamuuf haa buusu. 9 Aroonis re'ee ixaan WAAQAYYOO irra bu'e sana fidee
aarsaa cubbuu godhee haa dhi'eessu. 10 Garuu re'een akka re'ee gad lakkifamu
ta'uuf ixaadhaan filatame sun akka re'ee gad lakkifamu tokkootti gammoojjiitti
gad ari'amuudhaan akka araara buusuuf utuu lubbuudhaan jiruu fuula WAAQAYYO
duratti haa dhi'eeffamu.

11 "Aroonis aarsaa cubbuu ofii isaatiif dibicha sana dhi'eessee ofii isaatii fi warra
mana isaa jiraniif araara haa buusu; dibicha sanas cubbuu ofii isaatiif haa qalu.
12 Innis girgiraa barbadaa ibiddaa iddoo aarsaa kan fuula WAAQAYYOO dura jiru
irraa itti guutame tokko fuudhee ixaana urgaa'aa daakamee bullaa'es konyee lama
fuudhee golgaa sana keessa haa seenu. 13 Innis akka hin duuneef, akka aarri ixaana
sanaa teessoo araaraa kan dhuga ba'umsaa gubbaa jiru sana haguuguuf ixaana
sana ibidda fuula WAAQAYYOO dura jirutti haa naqu. 14 Dhiiga dibicha sanaa irraa
fuudhee karaa fuulduraatiin teessoo araaraatti quba isaatiin haa facaasu; ergasii
immoo dhiiga isaa fuudhee fuula teessoo araaraa duratti yeroo torba quba isaatiin
haa facaasu.

15 "Re'ee sanas aarsaa cubbuu sabaa godhee haa qalu; dhiiga isaas fuudhee golgaa
keessa seenuudhaan akkuma dhiiga dibicha sanaa godhe sana haa godhu; dhiiga
sanas teessoo araaraa irrattii fi fuula teessoo araaraa duratti haa facaasu. 16 Cubbuun
isaanii waanuma fedhe ta'u illee inni sababii xuraa'ummaa fi fincila saba Israa'eliif
Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu sana haala kanaan araara haa buusu; dunkaana
wal ga'ii kan xuraa'ummaa isaanii keessa isaan gidduu jiruufis akkasuma haa godhu.
17 Yeroo Aroon Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu sana keessatti araara buusuuf
ol seenee jalqabee hamma inni ofii isaatiif, warra mana isaa jiranii fi waldaa Israa'el
hundaaf araara buusee gad ba'utti namni tokko iyyuu dunkaana wal ga'ii keessatti
hin argamin.

18 "Ergasiis iddoo aarsaa kan fuula WAAQAYYOO dura jiru sanatti gad ba'ee iddoo
aarsaa sanaaf araara haa buusu. Innis dhiiga dibicha sanaa irraa fuudhee, dhiiga
re'ee sanaa irraas fuudhee gaanfa iddoo aarsaa sanaa hunda irratti haa naqu. 19 Innis
iddoo aarsaa sana xuraa'ummaa saba Israa'el irraa qulqulleessee addaan baasuuf
dhiiga sana irraa quba isaatiin yeroo torba iddoo aarsaa irratti haa facaasu.

20 "Aroon erga Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu sana, dunkaana wal ga'iitii fi
iddoo aarsaatiif araara buusee raawwatee booddee re'ee lubbuudhaan jiru sana gara
fuulduraatti haa dhi'eessu. 21 Innis harka isaa lamaanuu mataa re'ee lubbuudhaan
jiru sanaa irra kaa'ee achi irratti hamminaa fi fincila saba Israa'el jechuunis cubbuu
isaanii hunda hima. Yakka hundas mataa re'ee sanaa irra kaa'ee re'ee sana nama
hojii kanaaf filatame tokkotti kennee gara gammoojjiitti haa ari'u. 22 Re'een sunis
cubbuu isaanii hunda of irratti baatee gara lafa namni hin dhaqneetti geessa;
namichis gammoojjii keessatti isa gad dhiisa.

23 "Ergasiis Aroon dunkaana wal ga'ii seenee uffata quncee talbaa irraa hojjetame
kan utuu Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu sana hin seenin uffate sana baafatee
achumatti haa dhiisu. 24 Innis lafa qulqulluu tokkotti dhagna isaa bishaaniin dhiqatee
uffata isa haa uffatu; ergasii immoo gad ba'ee ofii isaatii fi saba sanaaf araara
buusuuf, ofii isaatiif aarsaa gubamu, saba sanaafis aarsaa gubamu haa dhi'eessu.
25 Cooma aarsaa cubbuu illee iddoo aarsaa irratti haa gubu.

26 “Namichi re’ee sana akka re’ee gad lakkifamu tokkootti gad dhiisu sun wayyaa
isaa miiccatee dhagna isaa bishaaniin haa dhiqatu; ergasii gara qubataatti ol galuu
danda’a. 27 Dibichii fi re’een aarsaa cubbuutiif dhi’eeffaman kanneen dhiigni isaanii
araara buusuuf Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluutti fidame sun qubata keessaa
haa baafaman; gogaan isaanii, foonii fi mi’i garaa isaanii haa gubamu. 28 Namichi
wantoota kanneen gubus uffata isaa miiccatee dhagna isaa bishaaniin haa dhiqatu;
ergasii gara qubataatti ol galuu danda’a.

29 “Seerri bara baraan isiniif kenname kanaa dha: Dhalataa biyyaas ta’u alagaan
isin gidduu jiraatu guyyaa kurnaffaa ji’a torbaffaatti gad of haa qabu; hojii tokko
iyyuus hin hojjetin. 30 Sababiin isaa isin qulqulleessuuf guyyaan kun guyyaa itti
araarri bu’u dha; ergasiis isin fuula WAAQAYYOO duratti cubbuu keessan hunda irraa
ni qulqullooftu. 31 Kun waan sanbata boqonnaa ta’eef isin gad of deebisuu qabdu;
innis seera bara baraa ti. 32 Lubni iddoo abbaa isaa bu’ee luba ol aanaa ta’uuf
dibamee muudamu araara buusuu qaba; innis wayyaa qulqulluu kan quncee talbaa
irraa hojjetame uffatee, 33 Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluuf, dunkaana wal
ga’iitiif, iddoo aarsaatiif, lubootaa fi miseensota waldaa hundaafis araara haa buusu.

34 “Seerri bara baraan isiniif kenname kanaa dha: Kunis akka cubbuu Israa’elootaa
hundaaf waggaatti yeroo tokko araarri buufamuuf.”

Wanni sunis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti hojjetame.

# 17

*Dhiiga Nyaachuun Dhowwaa dha*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Aroonii fi ilmaan isaatti, saba Israa’el
hundattis akkana jedhii himi; ‘Wanni WAAQAYYO ajaje kunoo kana: 3 Saba Israa’el
keessaa namni kam iyyuu yoo qubata keessatti yookaan qubataan alatti sangaa
yookaan hoolaa yookaan re’ee qalee 4 dunkaana qulqulluu WAAQAYYOO duratti aarsaa
godhee WAAQAYYOOF dhi’eessuuf balbala dunkaana wal ga’iitti fiduu baate namichi
sun dhiiga dhangalaase sanatti ni gaafatama; inni dhiiga dhangalaaseeraatii saba
isaa keessaa haa balleeffamu. 5 Kunis akka Israa’eloonni aarsaawwan amma alatti
dhi’eessaa jiran kana WAAQAYYOOF fidaniif. Isaanis aarsaawwan kanneen aarsaa
nagaa godhanii WAAQAYYOOF dhi’eessuuf balbala dunkaana wal ga’ii irratti lubatti
haa fidan. 6 Lubichis dhiiga sana iddoo aarsaa WAAQAYYOO kan balbala dunkaana
wal ga’ii irra jiru sanatti haa facaasu; cooma isaas urgaa WAAQAYYOTTI tolu godhee
haa gubu. 7 Isaanis si’achi waaqota tolfamoo bifa re’ee kanneen duukaa bu’anii
sagaagalaa turan sanaaf aarsaa isaanii tokko illee dhi’eessuu hin qaban; kunis isaaniif
dhaloota dhufuuf seera bara baraa ta’a.’

8 “Akkanas isaaniin jedhi; ‘Saba Israa’el keessaa namni kam iyyuu yookaan alagaan
isaan gidduu jiraatu kam iyyuu yoo aarsaa gubamu yookaan qalma dhi’eessee
9 balbala dunkaana wal ga’ii duratti WAAQAYYOOF aarsaa dhi’eessuuf fiduu baate
namichi sun saba isaa keessaa haa balleeffamu.

10 “ ‘Saba Israa’el keessaa namni kam iyyuu yookaan alagaan gidduu isaanii jiraatu
kam iyyuu dhiiga yoo nyaate, ani nama dhiiga nyaate sana fuula ittin hammaa dha;
saba isaa keessaas isa nan balleessa. 11 Sababii jireenyi waan lubbuu qabu tokkoo
dhiiga keessa jiruuf ani ittiin araara lubbuu keessaniif buusuudhaaf dhiiga sana
iddoo aarsaa irratti isinii kenneera; wanni jireenya namaatiif araara buusus dhiiga.
12 Kanaafuu ani Israa’elootaan, “Isin keessaa namni tokko iyyuu dhiiga hin nyaatin
yookaan alagaan gidduu keessan jiraatu dhiiga hin nyaatin” nan jedha.

13 “ ‘Saba Israa’el keessaa namni kam iyyuu yookaan alagaan gidduu keessan
jiraatu kan bineensa yookaan simbira nyaatamu adamsu kam iyyuu dhiiga waan
sanaa dhangalaasee biyyoo itti haa deebisu; 14 jireenyi waan lubbuu qabu tokkoo

dhiiga isaa ti. Sababiin ani Israa'elootaan, "Waan jireenyi waan lubbuu qabu hundaa dhiiga isaa ta'eef isin dhiiga waan lubbuu qabu tokko illee hin nyaatinaa; namni dhiiga nyaatu kam iyyuu saba keessaa haa balleeffamuu" jedheefis kanuma.

15 " 'Namni kam iyyuu dhalataa biyyaas ta'u alagaan waan du'ee argame yookaan
bineensi ciccire nyaatu uffata isaa haa miiccatu; dhagna isaas bishaaniin haa dhiqatu;
inni hamma galgalaatti akka seeraatti xuraa'aa dha; ergasii ni qulqullaa'a. 16 Yoo
uffata isaa miiccachuu fi dhagna isaa dhiqachuu baate garuu inni cubbuu sanatti ni
gaafatama.' "

# 18

*Wal Bira Ga'uu Seeraan Alaa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akkana jedhii Israa'elootatti himi; 'Ani
WAAQAYYO Waaqa keessan. 3 Isin waan isaan biyya Gibxi, biyya isin keessa jiraachaa
turtan sana keessatti hojjetan hin hojjetinaa; waan biyya Kana'aan, biyya ani itti isin
galchuuf jiru keessatti hojjetamus hin hojjetinaa. Seera isaanii duukaa hin bu'inaa.
4 Isin seera kootiif ajajamaa; ajaja koos sirriitti eegaa; ani WAAQAYYO Waaqa keessanii
dha. 5 Ajaja koo fi seera koo eegaa; namni isaaniif ajajamu isaaniin jiraataatii; ani
WAAQAYYO.

6 " 'Namni kam iyyuu fira dhiigaa kam iyyuu wajjin wal bira ga'uuf itti hin dhi'aatin; ani WAAQAYYO.

7 " 'Haadha kee wajjin wal bira ga'uudhaan abbaa kee hin salphisin; isheen haadha kee ti; ishee wajjin wal bira hin ga'in.

8 " 'Niitii abbaa keetii wajjin wal bira hin ga'in; wanni kun abbaa kee salphisa.

9 " 'Isheen manuma keettis ta'u yookaan alatti dhalattu illee obboleettii kee, intala abbaa keetii yookaan haadha keetii wajjin wal bira hin ga'in.

10 " 'Intala ilma keetii yookaan intala intala keetii wajjin wal bira hin ga'in; wanni kun si salphisa.

11 " 'Intala niitii abbaa keetii kan abbaa keetiif dhalatte wajjin wal bira hin ga'in; isheen obboleettii kee ti.

12 " 'Obboleettii abbaa keetii wajjin wal bira hin ga'in; isheen abbaa keetiif fira dhiigaa ti.

13 " 'Obboleettii haadha keetii wajjin wal bira hin ga'in; isheen haadha keetiif fira dhiigaa ti.

14 " 'Wal bira ga'uuf jettee niitii obboleessa abbaa keetiitti dhi'aattee isa hin salphisin; isheen niitii obboleessa abbaa keetii ti.

15 " 'Niitii ilma keetii wajjin wal bira hin ga'in. Isheen niitii ilma keetii ti; ishee wajjin wal bira hin ga'in.

16 " 'Niitii obboleessa keetii wajjin wal bira hin ga'in; wanni sun obboleessa kee salphisa.

17 " 'Dubartii tokkoo fi intala ishee wajjin wal bira hin ga'in. Intala ilma dubartii sanaa yookaan intala intala ishee wajjin wal bira hin ga'in; isaan isheedhaaf fira dhiigaa ti; wanni kun jal'ina.

18 " 'Utuu niitiin kee lubbuudhaan jirtuu obboleettii ishee masaanuu ishee gootee hin fuudhin; ishee wajjinis wal bira hin ga'in.

19 " 'Yeroo dubartiin tokko xuraa'ummaa xurii ji'aa of irraa qabdutti, bira ga'uudhaaf jettee isheetti hin dhi'aatin.

20 " 'Niitii namaa wajjin wal bira geessee isheedhaan of hin xureessin.

21 " 'Ijoollee kee keessaa tokko illee akka Moolekiif aarsaa ta'aniif hin kennin; ati maqaa Waaqa keetii hin xureessin. Ani WAAQAYYO.

22 “ ‘Akka namni dubartii wajjin ciisu ati dhiira wajjin hin ciisin; wanni kun hojii
jibbisiisaa dha.
23 “ ‘Horii kam iyyuu wajjin wal bira geessee of hin xureessin; dubartiin horii wajjin
wal bira ga’uuf ofii ishee itti hin kennin; kun waan karaa irraa goree dha.
24 “ ‘Sababii namoonni ani ari’ee isin duraa baasuuf jiru kunneen haala kanaan
xuraa’aniif isin karaa kanneen keessaa kamiin iyyuu of hin xureessinaa. 25 Lafti
iyyuu xuroofteerti; kanaafuu ani sababii cubbuu isheetiifan ishee adabe; laftis
jiraattota ishee ni tufti. 26 Isin garuu ajaja koo fi seera koo eegaa. Dhalataan biyyaatii
fi alagoonni isin gidduu jiraatanis waan jibbisiisaa kana keessaa kam iyyuu hin
hojjetin. 27 Namoonni isiniin dura biyya sana keessa jiraatanis waan kana hunda
hojjetanii akkasiin biyyattiin xuroofte. 28 Isinis lafa kana yoo xureessitan, lafti
akkuma saboota isin dura turan tufte sana isiniin illee ni tufti.
29 “ ‘Namni wantoota jibbisiisoo kanneen keessaa tokko illee hojjetu kam iyyuu saba
isaa keessaa haa balleeffamu. 30 Ajaja koo eegaa; barteewwan jibbisiisoo isin dura
hojjetamaa turan sana keessaa tokko illee duukaa buutanii ittiin of hin xureessinaa;
ani Waaqayyo Waaqa keessan.’ ”

# 19

*Seera Adda Addaa*

1 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akkana jedhii waldaa saba Israa’el
hundatti himi; ‘Ani Waaqayyo Waaqni keessan qulqulluudhaatii isinis qulqulloota
ta’aa.
3 “ ‘Tokkoon tokkoon keessan haadha keessanii fi abbaa keessaniif ulfina kennaa;
Sanbatoota koos eegaa. Ani Waaqayyo Waaqa keessan.
4 “ ‘Gara waaqota tolfamootti hin deebi’inaa yookaan sibiila baqfame irraa ofii
keessaniif waaqota hin tolfatinaa. Ani Waaqayyo Waaqa keessan.
5 “ ‘Yommuu aarsaa nagaa Waaqayyoof dhi’eessitanitti akka aarsaan keessan
fudhatama isiniif argatu godhaatii dhi’eessaa. 6 Aarsaan isin dhi’eessitanis guyyuma
sana yookaan guyyaa itti aanu haa nyaatamu; garuu wanni hafee hamma guyyaa
sadaffaatti ture haa gubamu. 7 Waan kana keessaa tokko iyyuu yoo guyyaa sadaffaatti
nyaatame xuraa’aa dha; fudhatamas hin argatu. 8 Namni waan sana nyaatu sababii
waan Waaqayyoon qulqulleeffame xureesseef itti gaafatama; namichi sun saba isaa
keessaa haa balleeffamu.
9 “ ‘Yommuu oomisha lafa keessanii walitti qabattanitti hamma daariitti hin
haaminaa; qarmii isaa illee hin funaannatinaa. 10 Qarmii iddoo dhaabaa wayinii
keetii hin funaanin yookaan ija wayinii keetii kan harca’e hin funaanin. Hiyyeeyyii
fi alagootaaf dhiisaa. Ani Waaqayyo Waaqa keessan.
11 “ ‘Hin hatinaa.
“ ‘Hin sobinaa.
“ ‘Walis hin gowwoomsinaa.
12 “ ‘Sobaan maqaa kootiin hin kakatinaa; akkasiinis maqaa Waaqa keessanii hin
xureessinaa. Ani Waaqayyo.
13 “ ‘Ollaa kee gowwoomsitee waa irraa hin fudhatin yookaan hin saamin.
“ ‘Mindaa nama qaxarame tokkoo hamma bari’utti of bira hin bulchin.
14 “ ‘Nama gurra duudaa hin abaarin yookaan nama jaamaa dura gufuu hin kaa’in;
garuu Waaqa kee sodaadhu. Ani Waaqayyo.
15 “ ‘Murtii hin jal’isinaa; nama wal caalchisuudhaan gara hiyyeessaa hin gorinaa;
nama guddaafis hin looginaa; ollaa keetiif garuu murtii qajeelaa kenni.
16 “ ‘Saba kee gidduutti hamii hin facaasin.
“ ‘Waan jireenya ollaa keetii balaa irra buusu hin hojjetin. Ani Waaqayyo.

17 “ ‘Garaa keetti obboleessa kee hin jibbin; akka cubbuu isaa keessatti qooda hin
qabaanneef ollaa kee ifaan ifatti itti dheekkami.
18 “ ‘Saba kee keessaa nama tokkotti iyyuu haaloo hin ba’in yookaan haaloo itti hin
qabatin; ollaa kee garuu akkuma ofii keetiitti jaalladhu. Ani WAAQAYYO.
19 “ ‘Sirna koo eegaa.
“ ‘Horii gosa gosaa walitti hin diqaalomsinaa.
“ ‘Midhaan gosa lama lafa qotiisaa keessanitti hin facaasinaa.
“ ‘Wayyaa waan lama irraa hojjetame hin uffatinaa.
20 “ ‘Namni garbittii nama biraaf kaadhimamte kan hin furamin yookaan bil-
isummaan ishee hin kennaminiif wajjin yoo wal bira ga’e isaan adabamuu qabu;
ta’us waan dubartiin sun hin bilisoominiif isaan hin ajjeefamin. 21 Namichi
sun garuu korbeessa hoolaa tokko aarsaa yakkaatiif gara balbala dunkaana wal
ga’iitti WAAQAYYOOF haa fidu. 22 Lubichis korbeessa hoolaa aarsaa yakkaa sanaan
cubbuu namichi hojjete sanaaf fuula WAAQAYYOO duratti araara haa buusu; cubbuun
namichaas ni dhiifamaaf.
23 “ ‘Isin yommuu biyyattiitti galtanii muka ija kennu kan gosa hundaa dhaab-
danitti, akka waan iji isaa dhowwameetti fudhadhaa. Isin akka waan iji sun hamma
waggaa sadiitti dhowwameetti ilaalaa; iji sun hin nyaatamin. 24 Waggaa afuraffaatti
immoo iji isaa hundinuu ni qulqullaa’a; WAAQAYYOOFIS aarsaa galataa ta’a. 25 Waggaa
shanaffaatti garuu ija isaa nyaachuu dandeessu. Haala kanaan oomishni keessan ni
guddata. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.
26 “ ‘Utuu dhiigni keessa jiruu foon kam iyyuu hin nyaatinaa.
“ ‘Tolcha yookaan falfala hin hojjetinaa.
27 “ ‘Rifeensa mataa keessanii naannessitanii hin haaddatinaa yookaan qarqara
areeda keessaniis hin murmuratinaa.
28 “ ‘Nama du’eef jettanii dhagna keessan hin mammadeessinaa yookaan mallattoo
tumaa tokko illee of irratti hin tolfatinaa. Ani WAAQAYYO.
29 “ ‘Akka lafti halalummaatti deebitee hamminaan hin guutamneef intala kee akka
isheen ejjitu gochuudhaan ishee hin salphisin.
30 “ ‘Sanbatoota koo eegaa; iddoo qulqulluu koos kabajaa. Ani WAAQAYYO.
31 “ ‘Isin akka hin xuroofneef ilaaltota bira hin deeminaa yookaan warra ekeraa
dubbisan hin barbaadinaa. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.
32 “ ‘Warra dulloomaniif ka’i; jaarsaaf ulfina kenni; Waaqa kee sodaadhu. Ani
WAAQAYYO.
33 “ ‘Yoo alagaan biyya keessan keessa isin wajjin jiraate isa hin cunqursinaa.
34 Alagaan isin gidduu jiraatu sun akka dhalataa biyya keessaniitti haa ilaalamu. Akka
ofii keessaniitti isa jaalladhaa; isinis biyya Gibxitti alagoota turtaniitii. Ani WAAQAYYO
Waaqa keessan.
35 “ ‘Isin yommuu dheerina, ulfinaa fi baay’ina wayii safartanitti madaalii gow-
woomsaatti hin fayyadaminaa. 36 Safartuu fi madaalii dhugaatti, iifii* fi iinii†
dhugaatti fayyadamaa. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan kan biyya Gibxii baasee isin
fidee dha.
37 “ ‘Ajajaa fi seera koo hunda eegaatii duukaa bu’aa. Ani WAAQAYYO.’ ”

# 20

*Adabbii Cubbuun Fidu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Namni
Israa’el yookaan alagaan Israa’el keessa jiraatu kan ilmaan isaa keessaa Moolekiif
kennu kam iyyuu haa ajjeefamu; sabni biyya sanaa dhagaadhaan isa haa tumu.

* **19:36** 19:36 Iifiin tokko liitirii 22. † **19:36** 19:36 Iiniin tokko liitirii 4.

3 Sababii namichi sun ilmaan isaa Moolekiif kennuudhaan iddoo qulqulluu koo
xureessee maqaa koo qulqulluu sana salphiseef, ani fuula itti hammaadhee saba
isaa keessaa isa nan balleessa. 4 Sabni biyya sanaa yeroo namichi sun ilmaan isaa
keessaa tokko Moolekiif kennutti yoo fuula irraa deebifatee isa ajjeesuu dhiise, 5 ani
namicha sanaa fi maatii isaatti fuula hammaadhee isaa fi warra isa faana bu’anii
sagaagaluudhaan Moolekitti of kennan hunda saba isaanii keessaa nan balleessa.
6 “ ‘Nama isaan duukaa bu’uudhaan sagaagaluuf jedhee gara ilaaltotaatii fi warra
ekeraa dubbisaniitti deebi’utti ani fuula ittan hammaadha; saba isaa keessaa isa nan
balleessa.
7 “ ‘Of qulqulleessaa; qulqullootas ta’aa; ani WAAQAYYO Waaqa keessaniitii. 8 Sirna
koo eegaa; duukaa bu’aas. Ani WAAQAYYO isa isin qulqulleessuu dha.
9 “ ‘Namni abbaa isaa yookaan haadha isaa abaare kam iyyuu haa ajjeefamu. Inni
abbaa isaa yookaan haadha isaa abaareeraatii dhiigni isaa matuma isaatti deebi’a.
10 “ ‘Yoo namni niitii nama biraa wajjin jechuunis niitii ollaa isaa wajjin sagaagale
namichi sagaagalee fi niitiin sagaagalte sun haa ajjeefaman.
11 “ ‘Namni yoo niitii abbaa isaa wajjin ciise inni abbaa isaa salphiseera. Namichis,
dubartiin sunis haa ajjeefaman; dhiigni isaanii matuma isaaniitti deebi’a.
12 “ ‘Yoo namni niitii ilma isaa wajjin ciise lamaan isaanii iyyuu haa ajjeefaman.
Isaan haraamuu dha; dhiigni isaanii matuma isaaniitti deebi’a.
13 “ ‘Yoo namni akkuma dubartii wajjin ciisutti dhiira wajjin ciise lamaan isaanii
iyyuu waan jibbisiisaa hojjetaniiru. Isaan haa ajjeefaman; dhiigni isaanii matuma
isaaniitti deebi’a.
14 “ ‘Namni tokko yoo intalaa fi haadha ishee fuudhe, wanni kun xuraa’ummaa dha.
Akka isin gidduutti xuraa’ummaan akkasii hin argamneef namichii fi dubartoonni
lamaan ibiddaan haa gubaman.
15 “ ‘Namni tokko yoo horii wajjin wal bira ga’e haa ajjeefamu; horii sana illee
ajjeesaa.
16 “ ‘Yoo dubartiin horii kamitti iyyuu dhi’aattee horii sana wajjin wal bira geesse,
dubartiin sunii fi horiin sun haa ajjeefaman; dhiigni isaanii matuma isaaniitti deebi’a.
17 “ ‘Namni tokko yoo obboleettii isaa jechuunis intala abbaa isaa yookaan intala
haadha isaa fuudhee wal bira ga’an wanni kun salphina. Isaan utuma sabni
isaanii arguu saba isaanii keessaa haa balleeffaman; namichi kun obboleettii isaa
salphiseera; itti gaafatamas.
18 “ ‘Namni tokko yoo yeroo dubartiin tokko xurii ji’aa of irraa qabdutti ishee bira
ga’e, inni madda dhangala’aa ishee ifatti baaseera; isheenis madda dhangala’a ishee
mul’ifteerti. Lamaan isaanii iyyuu saba isaanii keessaa haa balleeffaman.
19 “ ‘Obboleettii haadha keetii yookaan abbaa keetii wajjin wal bira hin ga’in; wanni
sun fira dhiigaa salphisaatii; isin lamaanuus itti gaafatamtu.
20 “ ‘Namni tokko yoo niitii eessuma isaa wajjin wal bira ga’e inni eessuma isaa
salphiseera. Isaan itti gaafatamu; utuu ijoollee hin argatinis du’u.
21 “ ‘Namni tokko yoo niitii obboleessa isaa fuudhe, wanni kun hojii xuraa’ummaa
ti; innis obboleessa isaa salphiseera. Isaan ijoollee malee hafu.
22 “ ‘Akka lafti ani akka isin keessa jiraattaniif itti isin fidu sun isin hin tufneef ajajaa
fi seera koo hunda eegaa; duukaa bu’aas. 23 Isin bartee saboota ani fuula keessan
duraa ari’ee baasuuf jiru kanneenii duukaa hin bu’inaa; sababii isaan wantoota
kanneen hunda hojjetaniif ani isaan jibbeera. 24 Ani garuu, “Isin lafa isaanii ni
dhaaltu; anis lafa aannanii fi damma baasu dhaala godhee isiniifin kenna” jedheera.
Ani WAAQAYYO Waaqa keessan kan saboota kaan irraa addaan isin baasee dha.
25 “ ‘Kanaafuu isin bineensa qulqullaa’aa fi xuraa’aa, simbirroo xuraa’aa fi
qulqullaa’aa addaan baasaa. Bineensa yookaan simbirroo yookaan waan lafa irra

munyuuqu kanneen ani isiniif xuraa'ota jedhee addaan baase kamiin iyyuu of hin
xureessinaa. 26 Sababii ani Waaqayyo qulqulluu ta'ee fi akka isin kan koo taataniifis
saboota kaan irraa addaan isin baaseef, isin qulqulloota naaf ta'aa.
27 " 'Dhiirri yookaan dubartiin ilaalan yookaan ekeraa dubbisan haa ajjeefaman.
Isaan dhagaadhaan haa tumaman; dhiigni isaanii matuma isaaniitti deebi'a.' "

# 21

*Seera Lubootaaf Kenname*

1 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; "Akkana jedhiitii ilmaan Aroon luboota
sanatti dubbadhu: 'Lubni tokko nama fira isaa keessaa du'eef jedhee of hin xureessin;
2 garuu firoota dhiigaatiif jechuunis haadha isaa, abbaa isaa, ilma isaa, intala
isaa, obboleessa isaa, 3 yookaan obboleettii isaa kan sababii hin heeruminiif isa
wajjin jiraattuuf jedhee of xureessuu danda'a. 4 Garuu namoota karaa fuudhaa fi
heerumaatiin firoota isaa ta'aniif jedhee of hin xureessin; akkasiinis xuraa'aa hin
ta'in.
5 " 'Luboonni mataa isaanii yookaan qarqara areeda isaanii hin haadatin yookaan
dhagna isaanii hin madeessin. 6 Isaan Waaqa isaaniitiif qulqulloota haa ta'an; maqaa
Waaqa isaaniis hin xureessin. Isaan waan aarsaa ibiddaan Waaqayyoof dhi'eeffamu,
nyaata Waaqa isaanii sana dhi'eessaniif qulqulloota ta'uu qabu.
7 " 'Luboonni sababii Waaqa isaaniitiif qulqulloota ta'aniif isaan dubartoota
sagaagalummaadhaan xuraa'an yookaan kanneen dhirsoota isaanii hiikan fuudhuu
hin qaban. 8 Ati isa qulqulleessi; inni nyaata Waaqa keetii dhi'eessaatii. Inni siif haa
qulqullaa'u; ani Waaqayyo inni isin qulqulleessu qulqulluudhaatii.
9 " 'Intalli luba tokkoo yoo sagaagalummaadhaan of xureessite isheen abbaa ishee
salphifti; isheen ibiddaan haa gubamtu.
10 " 'Lubni obboloota isaa keessaa luba ol aanaa ta'ee zayitiin ittiin diban mataa
isaa irratti naqame kan akka uffata lubummaa uffatuuf muudame tokko mataa
isaa filachuu hin dhiisin yookaan uffata ofii hin tarsaasin. 11 Inni iddoo reeffi jiru
hin seenin. Abbaa isaatiif yookaan haadha isaatiif iyyuu jedhee of hin xureessin;
12 yookaan sababii zayitiin ittiin diban kan Waaqa isaa isa irra jiruuf inni iddoo
qulqulluu sana keessaa hin ba'in yookaan iddoo qulqulluu Waaqa isaa hin xureessin.
Ani Waaqayyo.
13 " 'Dubartiin inni fuudhu durba ta'uu qabdi. 14 Inni haadha hiyyeessaa, niitii
dhirsi hiike yookaan niitii sagaagalummaadhaan xuroofte hin fuudhin; garuu gosa
isaa keessaa durba haa fuudhu; 15 kunis akka inni gosa isaa keessatti sanyii isaa hin
xureessineef. Ani Waaqayyo isa qulqulleessuu dha.' "
16 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 17 "Arooniin akkana jedhi: 'Dhaloota itti
aanu keessatti sanyii kee keessaa namni hir'ina qabu kam iyyuu nyaata Waaqa isaa
dhi'eessuuf hin dhi'aatin. 18 Namni hir'ina kam iyyuu qabu tokko iyyuu jechuunis
namni jaamaan yookaan naafni, namni bifaa fi dhagna hin tolle, 19 namni miilla
yookaan harka cabaa qabu, 20 yookaan namni dugda goophoo yookaan ooluun
yookaan namni dhibee ijaa qabu yookaan namni madaa mala'u qabu, yookaan
namni cittoo qabuu fi namni kolaafame hin dhi'aatin. 21 Sanyii Aroon lubichaa
keessaa namni hir'ina qabu kam iyyuu aarsaa ibiddaan Waaqayyoof dhi'eeffamu
dhi'eessuuf hin dhi'aatin. Inni waan hir'ina qabuuf nyaata Waaqa isaa dhi'eessuuf
hin dhi'aatin. 22 Innis nyaata Waaqa isaa kan nyaata hunda caalaa qulqulluu ta'ee fi
nyaata qulqulluu nyaachuu danda'a. 23 Garuu inni sababii hir'ina qabuuf akka iddoo
qulqulluu koo hin xureessineef golgaa keessa hin seenin yookaan iddoo aarsaatti hin
dhi'aatin. Ani Waaqayyo isa isaan qulqulleessuu dha.' "
24 Museen Aroonitti, ilmaan Aroonittii fi Israa'eloota hundatti waan kana hime.

# 22

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akka isaan maqaa koo qulqullicha hin
xureessineef, akka isaan aarsaa qulqulluu Israa’eloonni addaan baasanii naa fidan
sana akka gaariitti eeganiif Aroonii fi ilmaan isaatti himi. Ani WAAQAYYO.
3 “Akkanas Isaaniin jedhi: ‘Dhaloota dhufu keessa yoo sanyii kee keessaa namni
tokko illee utuu akka seeraatti hin qulqullaa’in aarsaa Israa’eloonni WAAQAYYOOF
addaan baasanitti dhi’aate namni sun fuula koo duraa haa balleeffamu. Ani
WAAQAYYO.
4 “ ‘Sanyii Aroon keessaa namni tokko yoo lamxii yookaan dhangala’aa saala isaa
keessaa ba’u qabaate inni hamma qulqullaa’utti aarsaa qulqulluu sana hin nyaatin.
Akkasumas yoo waan reeffaan xuraa’e yookaan nama afeetaa saala isaa keessaa
dangala’u tuqe, 5 yookaan yoo waan lafa irra loo’u kan isa xureessu yookaan nama isa
xureessu kam iyyuu tuqe, xuraa’ummaa kam iyyuu taanaan, 6 namni waan akkasii
kam iyyuu tuqu hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a. Inni yoo dhagna isaa bishaaniin
dhiqate malee aarsaa qulqulluu sana keessaa tokko illee hin nyaatin. 7 Inni yeroo
aduun lixxutti ni qulqullaa’a; ergasii immoo sababii wanni sun nyaata isaa ta’eef
aarsaa qulqulluu sana nyaachuu danda’a. 8 Inni waan du’ee argame yookaan waan
bineensi ciccire nyaachuudhaan of hin xurreessin. Ani WAAQAYYO.
9 “ ‘Luboonni akka ajaja koo tuffachuudhaan cubbuu hojjetanii hin duuneef ajaja
koo haa eegan. Ani WAAQAYYO isaan qulqulleessuu dha.
10 “ ‘Namni maatii lubaa hin ta’in yookaan keessummaan lubaa yookaan namni
lubichaaf qaxaramee hojjetu tokko illee aarsaa qulqulluu sana nyaachuu hin danda’u.
11 Garuu yoo lubni maallaqaan garbicha bitate, yookaan yoo garbichi mana isaatti
dhalate, garbichi sun nyaata lubichaa nyaachuu danda’u. 12 Intalli lubaa yoo
nama luba hin ta’initti heerumte, isheen aarsaa qulqulluu sana irraa nyaachuu hin
dandeessu. 13 Ta’us intalli lubaa yoo haadha hiyyeessaa taate yookaan dhirsaan wal
hiiktee utuu ijoollee hin qabaatin akkuma yeroo ijoollummaa isheetti mana abbaa
ishee jiraachuuf deebite, isheen nyaata abbaa ishee irraa nyaachuu ni dandeessi.
Ormi garuu nyaachuu hin danda’u.
14 “ ‘Namni yoo utuu hin beekin aarsaa qulqulluu tokko nyaate, inni waan sana
iddoo buusee gatii waan sanaa harka shan keessaa harka tokko itti dabalee lubichaaf
haa kennu. 15 Luboonnis aarsaa qulqulluu Israa’eloonni WAAQAYYOOF dhi’eessan hin
xureessin 16 yookaan akka sabni sun aarsaa qulqulluu sana nyaatu eeyyamuufiidhaan
yakka gatii baasisu isaanitti hin fidin. Ani WAAQAYYO isaan qulqulleessuu dha.’ ”

### *Aarsaa Fudhatama Hin Qabne*

17 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 18 “Aroonitti, ilmaan isaattii fi Israa’eloota
hundatti akkana jedhii himi; ‘Yeroo saba Israa’el keessaa namni tokko yookaan
alagaan Israa’el keessa jiraatu kam iyyuu aarsaa gubamu godhee wareega isaa
yookaan aarsaa fedhiidhaan dhi’aatu WAAQAYYOOF dhi’eessutti, 19 isin akka wanni
sun fudhatama isiniif argatuuf loon, hoolota yookaan re’oota keessaa korma hir’ina
hin qabne tokko dhi’eessuu qabdu. 20 Sababii inni isinii hin fudhatamneef waan
hir’ina qabu kam iyyuu hin dhi’eessinaa 21 Yeroo namni loon yookaan bushaayee
keessaa wareega guuttachuuf aarsaa fedhiidhaan dhi’eeffamu godhee aarsaa nagaa
WAAQAYYOOF dhi’eessutti akka wanni sun fudhatama argatuuf wanni sun waan
fayyaalessa yookaan waan hir’ina hin qabne haa ta’u. 22 Horii jaamaa yookaan
cabaa yookaan dooluu yookaan kormommuu yookaan kan dhangala’aan dhagna
isaa keessaa ba’u yookaan kan madaa mala’u qabu WAAQAYYOOF hin dhi’eessinaa.
Kanneen akkasii keessaa tokko iyyuu aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu
gootanii iddoo aarsaa irra hin kaa’inaa. 23 Ta’us sangaa yookaan hoolaa gar malee
dheeraa yookaan gar malee gabaabaa ta’e aarsaa fedhiidhaan dhi’aatu gootanii

dhi’eessuu ni dandeessu; garuu wanni kun wareega keessan guutuuf fudhatama hin
argatu. 24 Horii kolaafame yookaan kan tumame, kan kolaan isaa baqaqfame yookaan
irraa murame tokko WAAQAYYOOF hin dhi’eessinaa; isin waan akkasii biyya keessan
keessatti hin godhinaa; 25 horii akkasii nama ormaa harkaa fuutanii nyaata Waaqa
keessanii gootanii hin dhi’eessinaa. Horiin sun waan kolaafamee hir’ina qabuuf
isiniif hin fudhatamu.’ ”
26 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 27 “Dibichi yookaan hoolaan yookaan
re’een yommuu dhalatutti hamma bultii torbaatti haadha isaa wajjin haa
turu. Guyyaa saddeettaffaadhaa jalqabee immoo aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi’eeffamu ta’ee fudhatama ni argata. 28 Guyyuma tokkotti, sa’a yookaan hoolaa
ilmoo isaa wajjin hin qalinaa.
29 “Gaafa aarsaa galataa WAAQAYYOOF dhi’eessitanitti akka isiniif fudhatamuuf
haala kanaan dhi’eessaa. 30 Aarsaan kunis gaafuma sana nyaatamuu qaba; waan
tokko illee hin bulchinaa. Ani WAAQAYYO.
31 “Ajajawwan koo eegaa; duukaa bu’aas. Ani WAAQAYYO. 32 Maqaa koo qulqullicha
hin xureessinaa. Akka ani qulqulluu ta’e Israa’eloonni haa beeksisan. Ani WAAQAYYO
kan isin qulqulleessu 33 kanan Waaqa keessan ta’uudhaaf biyya Gibxii isin baasee
dha. Ani WAAQAYYO.”

# 23

### *Ayyaanota Murtaa’oo*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akkana jedhiitii Israa’elootatti dub-
badhu; ‘Kunneen ayyaanota koo murtaa’oo, ayyaanota WAAQAYYOO kanneen isin
guyyoota wal ga’ii qulqulluu jettanii labsitanii dha.

### *Sanbata*

3 “ ‘Guyyoonni isin hojii itti hojjettan ja’atu jira; guyyaan torbaffaan garuu sanbata
boqonnaa, guyyaa wal ga’ii qulqulluu ti. Isin hojii tokko illee hin hojjetinaa; iddoo
isin jiraattan kamitti iyyuu kun sanbata WAAQAYYOO ti.

### *Ayyaana Faasiikaatii fi Ayyaana Maxinoo*

*23:4-8 kwf – Bau 12:14-20; Lak 28:16-25; KeD 16:1-8*

4 “ ‘Isaan kunneen ayyaanota WAAQAYYOO murteeffamoo, waldaawwan qulqulluu
isin yeroo isaaniitti labsitanii dha; 5 Faasiikaan WAAQAYYOO galgala bultii kudha
afuraffaa ji’a jalqabaatti jalqabama. 6 Guyyaa kudha shanaffaa ji’a jalqabaatti
Ayyaana WAAQAYYOO kan maxinootu jalqabama; isinis guyyaa torba buddeena raacitii
hin qabne nyaadhaa. 7 Guyyaa jalqabaatti wal ga’ii qulqulluu qabaadhaa; hojii idilees
hin hojjetinaa. 8 Bultii torba aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu dhi’eessaa.
Bultii torbaffaatti wal ga’ii qulqulluu qabaadhaa; hojii idilees hin hojjetinaa.’ ”

### *Kennaa Hangafa*

9 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 10 “Akkana jedhii Israa’elootatti dubbadhu;
‘Yommuu biyya ani isiniif kennutti galtanii oomisha walitti qabdanitti bissii mataa
midhaan walitti qabdan sanaa lubatti fidaa. 11 Innis akka bissiin sun fudhatama isiniif
argatuuf fuula WAAQAYYOO duratti haa sochoosu; lubichis guyyaa Sanbata booddee
jirutti haa sochoosu. 12 Guyyaa bissii sana sochooftanitti, xobbaallaa hoolaa waggaa
tokkoo kan hir’ina hin qabne aarsaa gubamu godhaatii WAAQAYYOOF dhi’eessaa;
13 kana wajjinis aarsaa midhaanii daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkuumame
iifii* tokko irraa harka kudhan keessaa harka lama aarsaa urgaa’aa ibiddaan
WAAQAYYOOF dhi’eeffamuu fi dhibaayyuu daadhii wayinii iinii† tokko irraa harka

* **23:13** 23:13 Iifiin tokko liitirii 22. † **23:13** 23:13 Iiniin tokko liitirii 4.

afur keessaa harka tokko dhi’eessaa. [14] Isin hamma gaafa kennaa kana WAAQAYYOOF
dhi’eessitanitti buddeena yookaan akaayii yookaan asheetii hin nyaatinaa. Kunis
iddoo isin jiraattan hundatti dhaloota dhufuuf seera bara baraa haa ta’u.

*Ayyaana Torbanootaa*
*23:15-22 kwf – Lak 28:26-31; KeD 16:9-12*

[15] “ ‘Guyyaa Sanbata booddee jiru, gaafa bissii aarsaa sochoofamu fiddanii
jalqabaatii torbanoota torba guutuu lakkaa’aa. [16] Hamma guyyaa Sanbata torbaffaa
booddee jiruutti guyyaa shantama lakkaa’aa; ergasii immoo aarsaa midhaan haaraa
WAAQAYYOOF dhi’eessaa. [17] Iddoo jiraattan hundatti buddeena lama kan daakuu
bullaa’aa iifii tokkoo irraa harka kudhan keessaa harka lamaa kan raacitiin itti
makamee tolfame kennaa hangafa kan sochoofamu godhaatii WAAQAYYOOF fidaa.
[18] Buddeena kana wajjinis xobbaallaawwan hoolaa torba kanneen hir’ina hin
qabnee fi kanneen waggaa tokko tokkoo, dibicha tokkoo fi korbeeyyii hoolaa lama
dhi’eessaa. Isaanis aarsaa midhaan isaaniitii fi aarsaa dhibaayyuu isaanii wajjin
WAAQAYYOOF aarsaa gubamu ta’u; kunis aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu kan urgaan
isaa WAAQAYYOTTI toluu dha. [19] Ergasiis aarsaa cubbuutiif korma re’ee tokko
akkasumas xobbaallaa hoolaa lama kanneen waggaa tokko tokkoo aarsaa nagaatiif
qalaa. [20] Lubni immoo xobbaallaa hoolaa sana lamaan aarsaa sochoofamu godhee
buddeena jalqabaa wajjin fuula WAAQAYYOO duratti haa sochoosu. Isaan kunneenis
kan WAAQAYYOOF qulqulleeffamanii dha; qooda lubootaatis. [21] Isin gaafuma sana wal
ga’ii qulqulluu labsaa; hojii idilees hin hojjetinaa. Kunis iddoo isin jiraattan hundatti
dhaloota dhufuuf seera bara baraa haa ta’u.
[22] “ ‘Yommuu oomisha lafa keessanii walitti qabdanitti hamma qarqaraatti hin
haaminaa yookaan qarmii isaa hin funaaninaa; waan kana hiyyeeyyii fi alagootaaf
hambisaa. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.’ ”

*Ayyaana Malakataa*
*23:23-25 kwf – Lak 29:1-6*

[23] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [24] “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Isin
guyyaa jalqaba ji’a torbaffaatti sanbata boqonnaa qabaadhaa; yaa’ii qulqulluu
sagalee malakataatiin ayyaaneffamus qabaadhaa. [25] Aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi’eeffamu dhi’eessaa malee hojii idilee hin hojjetinaa.’ ”

*Guyyaa Araarri Bu’u*
*23:26-32 kwf – Lew 16:2-34; Lak 29:7-11*

[26] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [27] “Guyyaan kurnaffaan ji’a torbaffaa
guyyaa araarri bu’uu dha. Wal ga’ii qulqulluu qabaadhaa; gad ofi deebisaa;
WAAQAYYOOFIS aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu dhi’eessaa. [28] Sababii guyyaan sun
Guyyaa Araarri Bu’u, yeroo itti fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii duratti araarri
isiniif bu’u ta’eef hojii tokko illee hin hojjetinaa. [29] Namni gaafuma sana gad of hin
deebifne kam iyyuu saba isaa keessaa baafamee ni balleeffama. [30] Nama gaafa sana
hojii tokko illee hojjetu kam iyyuus ani saba isaa gidduudhaa nan balleessa. [31] Isin
hojii tokko iyyuu hin hojjetinaa. Kunis lafa isin jiraattan hundatti dhaloota dhufuuf
seera bara baraa haa ta’u. [32] Kun isiniif sanbata boqonnaa ti; isinis gad of deebisuu
qabdu. Galgala bultii saglaffaa ji’a sanaatii jalqabaatii hamma galgala itti aanutti
sanbata keessan ayyaaneffadhaa.”

*Ayyaana Daasii*
*23:33-43 kwf – Lak 29:12-39; KeD 16:13-17*

[33] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [34] “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Bul-
tii kudha shanaffaa ji’a torbaffaatti Ayyaana Dunkaana Qulqulluu WAAQAYYOOTU

jalqabama; kunis bultii torba tura. 35 Guyyaan jalqabaa wal ga'ii qulqulluu dha; hojii
idilees hin hojjetinaa. 36 Guyyaa torba aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu
dhi'eessaa; guyyaa saddeettaffaatti immoo wal ga'ii qulqulluu godhadhaatii aarsaa
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu dhi'eessaa; kun guyyaa wal ga'iin qulqulluun itti
xumuramuu dha; hojii idilees hin hojjetinaa.
37 " 'Kunneen ayyaanota WAAQAYYOO murtaa'oo isin aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF
dhi'eeffamu, aarsaa gubamu, aarsaa midhaanii, qalmaa fi dhibaayyuu guyyaa
kamiif iyyuu barbaachisu dhi'eessuuf wal ga'iiwwan qulqulluu itti labsitanii dha.
38 Aarsaawwan kunneen kennaawwan isin Sanbata WAAQAYYOOTIIF dhi'eessitanii
fi kennaawwan keessan, kennaawwan wareega keessanii fi kennaawwan isin
fedhiidhaan kennitan hunda irratti dabaltanii WAAQAYYOOF fiddanii dha.
39 " 'Erga oomisha lafa keessanii walitti qabdanii booddee bultii kudha shanaf-
faa ji'a torbaffaatii jalqabaatii bultii torba WAAQAYYOOF ayyaana ayyaaneffadhaa;
guyyaan jalqabaa sanbata boqonnaa ti; guyyaan saddeettaffaanis akkasuma sanbata
boqonnaa ti. 40 Guyyaa jalqabaa ija muka gaarii, damee meexxii, damee muka
baala qabuutii fi alaltuu qabadhaatii guyyaa torba fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii
duratti gammadaa. 41 Wagguma waggaan ayyaana WAAQAYYOO guyyaa torba
ayyaaneffadhaa. Kunis dhaloota dhufuuf seera bara baraa haa ta'u; ji'a torbaffaattis
isa ayyaaneffadhaa. 42 Bultii torba daasii keessa turaa; dhalataan Israa'el hundinuu
daasii keessa haa turu; 43 ijoolleen keessanis akkasiin akka ani yeroo biyya Gibxiitii
Israa'eloota baasetti daasii keessa isaan turse ni beeku. Ani WAAQAYYO Waaqa
keessan.' "
44 Museenis ayyaanota WAAQAYYOO murtaa'oo Israa'elootatti labse.

# 24

### *Zayitii fi Buddeena Fuula WAAQAYYOO Duratti Dhi'eeffamu*
### *24:1-3 kwf – Bau 27:20-21*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akka ibsaan ittuma fufee boba'uuf akka
isaan zayitii ejersaa kan cuunfamee taliila ta'e siif fidaniif ijoollee Israa'el ajaji.
3 Aroonis ibsaawwan sana golgaa taabota kakuu seeraa kan dunkaana wal ga'ii keessa
jiru sanaan alatti fuula WAAQAYYOO duratti galgalaa hamma ganamaatti ittuma fufee
haa qopheessu. Kunis dhaloota keessaniif seera bara baraa haa ta'u. 4 Ibsaawwan
baattuu ibsaa kan warqee qulqulluu irraa hojjetaman irra fuula WAAQAYYOO dura
jiran sun ittuma fufanii qopheeffamuu qabu.
5 "Daakuu bullaa'aa fuudhiitii buddeena kudha lama tolchi; tokkoon tokkoon
buddeena sanaas daakuu iifii* tokkoo irraa harka kudhan keessaa harka lama
lamaan haa tolfamu. 6 Buddeena kanas toora tokko keessa ja'a ja'a godhiitii
minjaala warqee qulqulluu irraa hojjetamee fuula WAAQAYYOO dura jiru irra toora
lamaan kaa'i. 7 Akka inni qooda buddeena sanaa kutaa yaadannootii fi aarsaa
ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamu ta'uuf tokkoo tokkoo toora sanaa irra ixaana
qulqulluu kaa'i. 8 Buddeenni kunis akka kakuu bara baraa ta'ee saba Israa'el iddoo
bu'uuf yeroo hunda Sanbatuma Sanbataan fuula WAAQAYYOO dura haa kaa'amu.
9 Buddeenni kun qooda Arooniitii fi ilmaan isaa ti; isaanis sababii buddeenni kun
qooda isaanii kan bara baraa kan aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffame keessaa
kutaa waan hunda caalaa qulqullaa'e ta'eef iddoo qulqulluutti isa haa nyaatan."

### *Namni Waaqa Arrabsu Dhagaadhaan Tumama*

10 Namichi haati isaa gosa Israa'elii fi abbaan isaa immoo nama biyya Gibxii
ta'e tokko Israa'eloota gidduu ba'e; lollis qubata keessatti isaa fi Israa'elicha tokko

* **24:5** 24:5 Iifiin tokko kiiloo giraamii 40.

gidduutti ka'e. 11 Ilmi dubartii Israa'el sunis Maqaa Waaqaa arrabse; ni abaares;
kanaafuu Museetti isa fidan. Maqaan haadha namicha sanaas Sheloomiit jedhama;
isheen immoo intala namicha gosa Daanii kan Dibraayi jedhamuu ti. 12 Isaanis
hamma fedhiin WAAQAYYOO isaanii ifutti eegumsa jala isa tursan.
13 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe: 14 "Namicha Waaqa arrabse sana qubata
keessaa gad baasi. Warri isa dhaga'an hundinuu harka isaanii mataa isaa irra haa
kaa'an; waldaan hundi immoo dhagaadhaan isa haa tumu. 15 Israa'elootaan akkana
jedhi; 'Namni kam iyyuu yoo Waaqa isaa abaare inni cubbuu hojjeteef itti gaafatama;
16 namni Maqaa WAAQAYYOO arrabsu haa ajjeefamu. Waldaan hundi dhagaadhaan isa
haa tumu. Alagaas ta'u dhalataan biyyaa yoo Maqaa Waaqaa arrabse haa ajjeefamu.
17 " 'Namni nama ajjeese kam iyyuu haa ajjeefamu. 18 Namni horii namaa ajjeese
horii sana iddoo haa buusu. 19 Namni tokko yoo ollaa isaa miidhe, wanni inni nama
sana godhe isa irrattis haa godhamu; 20 kunis qooda cabaa cabaa, qooda ijaa ija,
qooda ilkaanii ilkaan jechuu dha. Innis akkuma nama miidhe sana isa irrattis haa
godhamu. 21 Namni horii ajjeese horii sana iddoo haa buusu; namni nama ajjeese
garuu haa ajjeefamu. 22 Alagaas ta'u dhalataa biyyaatiif seera tokkicha qabaadhaa.
Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.' "
23 Museen waan kana Israa'elootatti hime; isaanis namicha Waaqa arrabse sana
qubata keessaa gad baasanii dhagaadhaan tuman; Israa'eloonni akkuma WAAQAYYO
Musee ajaje godhan.

# 25

*Boqonnaa Waggaa Torbaffaa*

1 WAAQAYYO Gaara Siinaa irratti Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akkana jedhii
Israa'elootatti himi: 'Yommuu biyya ani isinii kennutti galtan, biyyattiin mataan ishee
sanbata WAAQAYYOO haa kabajju. 3 Waggaa ja'a lafa qotiisaa kee facaafadhu; waggaa
ja'a immoo wayinii kee irraa qori; ija isaas walitti qabadhu. 4 Waggaa torbaffaatti
garuu lafti sanbata boqonnaa haa qabaatu; kunis sanbata WAAQAYYOOF kabajamuu
dha. Lafa qotiisaa kee hin facaafatin yookaan wayinii kee irraa hin qorin. 5 Waan
ofiin biqile hin haammatin yookaan wayinii hin qoramin irraa ija walitti hin qabatin.
Lafti boqonnaa waggaa tokkoo haa argattu. 6 Wanni lafti waggaa sanbataatti kennitu
nyaata kee haa ta'u jechuunis si'i mataa keetiif, garboota kee dhiiraa fi dubartiidhaaf,
warra qaxaramanii hojjetanii fi alagoota yeroodhaaf si wajjin jiraataniif nyaata
haa ta'u; 7 akkasumas horii keetii fi bineensa daggalaa kanneen biyya kee keessa
jiraataniif nyaata haa ta'u. Wanni lafti baaftu kam iyyuu haa nyaatamu.

*Waggaa Iyyoobeeliyyuu*
*25:8-38 kwi – KeD 15:1-11*
*25:39-55 kwi – Bau 21:2-11; KeD 15:12-18*

8 " 'Waggoota sanbataa torba jechuunis waggoota torba yeroo torba lakkaa'i;
waggoonni sanbataa torban waggoota afurtamii sagal ta'u. 9 Guyyaa kurnaffaa
ji'a torbaffaatti immoo guutummaa biyya keessanii keessatti malakata dhageessisi;
Guyyaa Araarri Bu'uttis guutummaa biyyaa keessatti malakata dhageessisaa.
10 Waggaa shantamaffaa qulqulleessaatii guutummaa biyyattii keessatti jiraattota
hundaaf bilisummaa labsaa. Kunis iyyoobeeliyyuu isinii ta'a; tokkoon tokkoon
namaa deebi'ee gara qabeenya isaattii fi gara maatii isaatti haa galu. 11 Waggaan
shantamaffaan iyyoobeeliyyuu isiniif haa ta'u; hin facaafatinaa; waan ofiin biqile
hin haammatinaa; wayinii hin qoramin irraas ija isaa walitti hin qabatinaa. 12 Kun
sababii iyyoobeeliyyuu ta'eef qulqulluu isiniif haa ta'u; waan lafa qotiisaa irraa
galfamu nyaadhaa.

13 “ ‘Waggaa Iyyoobeeliyyuu kana keessa tokkoon tokkoon namaa gara qabeenya
isaatti haa deebi’u.
14 “ ‘Yoo nama saba kee ta’etti lafa gurgurte yookaan waan tokko isa irraa bitte,
wal hin gowwoomsinaa. 15 Ati waggoota waggaa Iyyoobeeliyyuu booddee jiran
irratti hundooftee nama saba keetii irraa bitadhu. Innis baay’ina waggoota galchaa
midhaanii lakkaa’ee sitti haa gurguru. 16 Yoo waggaan baay’ee ta’e gatii isaa dabaliif;
yoo waggaan isaa gabaabaa ta’e immoo gatii isaa hir’isi; sababiin isaa wanni inni sitti
gurguru baay’ina midhaanii ti. 17 Wal hin cunqursinaa; garuu Waaqa sodaadhaa. Ani
Waaqayyo Waaqa keessan.

18 “ ‘Ajaja koo duukaa bu’aa; seera koo illee eegaa; isinis biyyattii keessa nagaan
ni jiraattu. 19 Lafti ija ni kenniti; isinis hamma quuftanitti nyaattu; nagaadhaanis ni
jiraattu. 20 Isinis, “Nu yoo facaafachuu yookaan midhaan keenya walitti qabachuu
baanne waggaa torbaffaatti maal nyaanna?” jettanii gaafattu ta’a. 21 Akka lafti
midhaan waggaa sadiif ga’u isinii kennituuf ani waggaa ja’affaatti eebba koo isiniif
nan erga. 22 Yeroo waggaa saddeettaffaatti facaafattanittis waanuma duraan galfattan
irraa nyaattu; hamma midhaan waggaa saglaffaa walitti qabattanitti midhaanuma
kana nyaattu.

23 “ ‘Lafti sababii kanuma koo taateef bara baraan hin gurguramin; isin anaaf
alagaa fi keessummoota. 24 Biyya akka dhaalaatti qabattan guutuu keessatti waan
ittiin lafa furtan baasaa.
25 “ ‘Obboleessi kee tokko hiyyoomee lafa isaa yoo gurgure, namni fira isaa kan
dhi’oo ta’e dhufee waan firri isaa gurgure sana haa furuuf. 26 Garuu yoo namichi
sun fira lafa isaa furuuf dhabee inni mataan isaa waan ittiin lafa isaa furatu argate,
27 waggoota yeroo inni lafa isaa gurgure sanaa as jiran lakkaa’ee namicha itti gurgure
sanaaf maallaqa isaa haa deebisu; innis gara lafa ofiitti haa deebi’u. 28 Garuu yoo
waan namicha sanaaf deebisu dhabee, wanni inni gurgure sun hamma waggaa
iyyoobeeliyyuutti harkuma namicha bite sanaa haa turu. Waggaa Iyyoobeeliyyuu
keessa ni deebi’aaf; innis gara qabeenya isaatti ni deebi’a.

29 “ ‘Namni yoo magaalaa dallaa qabdu keessatti mana jireenyaa gurgurate, gaafa
gurguratee jalqabee waggaa tokko keessatti furachuu danda’a. Mirgi furachuu isaas
hamma waggaa tokkootti tura. 30 Yoo utuu waggaan tokko hin guutin furamuu baate
manni magaalaa dallaa qabdu keessatti argamu sun qabeenya namicha biteetii fi kan
sanyii isaa ta’ee hafa. Waggaa Iyyoobeeliyyuuttis hin deebi’u. 31 Manneen gandoota
dallaan itti hin ijaaramin keessa jiran garuu waan akka lafa baadiyyaatti hedamaniif
furamuu danda’u. Bara Iyyoobeeliyyuuttis ni deebifamu.

32 “ ‘Lewwonni garuu manneen isaanii kanneen magaalaawwan isaanii keessatti
argaman furachuuf yeroo kam iyyuu mirga qabu. 33 Qabeenyi Lewwotaa fura-
muu ni danda’a; manneen magaalaa isaan qabatan keessatti gurguraman bara
Iyyoobeeliyyuutti ni deebifamu; manneen magaalaa Lewwotaa keessatti argaman
Israa’eloota gidduutti qabeenya Lewwotaatii. 34 Lafti dheedaa kan naannoo
magaalaa isaaniitti argamu garuu sababii qabeenya isaanii kan bara baraa ta’eef
hin gurguramin.

35 “ ‘Yoo obboleessi kee tokko hiyyoomee isin gidduutti of gargaaruu dadhabe, akka
inni isin gidduu jiraachuu danda’uuf akkuma alagaa yookaan keessummaa tokko
gargaartutti isa gargaar. 36 Akka namni sun si wajjin jiraachuu danda’uuf Waaqa kee
sodaadhu malee dhala tokko iyyuu isa irraa hin fudhatin. 37 Maallaqa kee dhalaan hin
liqeessiniif yookaan nyaata kee bu’aa itti herregattee hin kenniniif. 38 Ani Waaqayyo
Waaqa keessan kan biyya Kana’aan isiniif kennuu fi Waaqa keessan ta’uuf biyya
Gibxii isin baasee dha.

39 “ ‘Yoo obboleessi kee tokko hiyyoomee sitti of gurgure akka garbichaatti isa
hin hojjechiifatin. 40 Inni akka hojjetaa qaxaramaa yookaan nama yeroodhaaf isin
wajjin jiraatuu haa ta’u; inni hamma Waggaa Iyyoobeeliyyuutti siif haa hojjetu.
41 Ergasii inni ijoollee isaa wajjin gad haa lakkifamu; inni gara maatii isaatii fi
qabeenya abbootii isaatti haa deebi’u. 42 Israa’eloonni sababii garboota koo warra
ani biyya Gibxiitii baasee fide ta’aniif akka garbootaatti hin gurguramin. 43 Waaqa
kee sodaadhu malee gara jabinaan isaan hin bulchin.
44 “ ‘Garboonni kee dhiironnii fi dubartoonni saboota naannoo kee jiraatan giddu-
udhaa haa dhufan; isin isaan keessaa garboota bitachuu dandeessu. 45 Akkasumas
keessummoota isin gidduu jiraatanii fi maatii isaanii warra biyya keessanitti dhalatan
keessaa garboota bitachuu dandeessu; isaanis qabeenya keessan haa ta’an. 46 Akka
qabeenya dhaalamuutti ijoollee keessanitti dabarsuu dandeessu; bara jireenya isaanii
guutuus isaan garboomfachuu dandeessu; Israa’eloota obboloota keessan ta’an garuu
gara jabinaan hin bulchinaa.
47 “ ‘Yoo alagaan yookaan keessummaan si wajjin jiraatu tokko sooromee obboleessi
kee immoo hiyyoomee alagaa si wajjin jiraatutti yookaan maatii alagaa sanaatti of
gurgure, 48 inni erga of gurguree booddee furamuuf mirga qaba. Firoota isaa keessaas
namni tokko isa furuu danda’a. 49 Obboleessi abbaa isaa yookaan ilmi obboleessa
abbaa isaa yookaan aantee isaa keessaa firri dhiigaa isa furuu danda’a. Yookaan inni
iyyuu yoo soorome of furuu danda’a. 50 Innii fi namichi isa bite sun waggaa inni
itti of gurguree jalqabee hamma waggaa Iyyoobeeliyyuutti haa lakkaa’an. Gatiin
furii isaas baay’ina waggoota sanaa irratti hundaa’a; yeroon inni namicha isa bitate
sana bira ture immoo akka nama qacaramee hojjete tokkootti herregama. 51 Yoo
akka herrega isaaniitti waggoonni baay’een hafan inni gatii ittiin bitame sana keessaa
harka baay’ee namicha sanaaf deebisuu qaba. 52 Yoo waggoonni hamma Waggaa
Iyyoobeeliyyuutti hafan muraasa ta’an inni waggoota hafan sana herregatee gatii
furama isaa haa kaffalu. 53 Inni akkuma nama waggaa waggaatti qaxaramu tokkootti
isa wajjin haa jiraatu; fuula kee durattis inni gara jabinaan isa hin bulchin.
54 “ ‘Yoo inni karaa kanneeniin furamuu baates innii fi ijoolleen isaa Waggaa
Iyyoobeeliyyuutti furamuu qabu; 55 Israa’eloonni garboota kootii. Isaan garboota
koo kanneen ani biyya Gibxii baasee fidee dha. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.

# 26

*Eebba Ajajamuudhaan Argamu*

1 “ ‘Waaqota tolfamoo hin tolfatinaa; fakkii yookaan dhagaa waaqeffannaa hin
dhaabbatinaa; fuula isaanii duratti sagaduuf jettaniis biyya keessan keessatti dhagaa
soofame hin dhaabinaa. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan.
2 “ ‘Sanbatoota koo eegaa; iddoo qulqulluu koos kabajaa. Ani WAAQAYYO.
3 “ ‘Yoo isin sirna koo duukaa buutanii ajajawwan koos eegdanii hojii irra oolchitan,
4 ani yeroo isaatti bokkaa isiniifan kenna; lafti midhaan ishee, mukkeen dirrees ija
isaanii ni kennu. 5 Midhaan dha’achuun keessan hamma yeroo ija wayinii cirattaniitti
itti fufa; ija wayinii cirachuun keessan hamma yeroo facaasaatti ittuma fufa; isinis
nyaata keessan hamma quuftanitti nyaattanii lafa keessan irra nagaadhaan jiraattu.
6 “ ‘Ani biyyattii keessa nagaa nan buusa; isin ni raftu; wanni tokko iyyuu
isin hin sodaachisu. Biyyattii keessaa bineensota hamoo nan baasa; goraadeenis
biyya keessan keessa hin darbu. 7 Isin diinota keessan ni ariitu; isaan immoo
goraadeedhaan fuula keessan duratti dhumu. 8 Isin nama shan taatanii nama dhibba
tokko ariitu; dhibba tokko taatanii immoo kuma kudhan ariitu; diinonni keessan
goraadeedhaan fuula keessan duratti dhumu.

9 “ ‘Ani fuula tolaadhaan gara keessan ilaalee akka isin hortanii baay’attan nan
godha; kakuu isin wajjin qabus nan jabeessa. 10 Isin midhaan bara darbee nyaachaa
utuu inni gombisaa keessaa hin dhumin, midhaan haaraadhaaf iddoo qopheessuuf
jettanii midhaan bara darbee sana gad baaftu. 11 Iddoo jireenya kootii isin gidduu
nan godhadha; lubbuun koos isin hin balfitu. 12 Ani isin gidduu jiraadhee Waaqa
keessan nan ta’a; isinis saba koo ni taatu. 13 Ani WAAQAYYO Waaqa keessan kan akka
isin lammata garboota warra Gibxi hin taaneef biyya Gibxii baasee isin fidee dha; ani
hidhaa waanjoo keessanii kutee akka isin mataa ol qabattanii deemtan godheera.

*Adabbii Ajajamuu Diduun Fidu*

14 “ ‘Garuu yoo na dhaga’uu diddanii ajajawwan kanneen hunda eeguu baattan,
15 yoo sirna koo tuffattanii seera koo balfitan, yoo ajajawwan kanneen hunda
eeguu baattanii kakuu koo cabsitan, 16 ani wantoota kanneen isinittin fida: Isaanis
naasuu, dhukkuba nama huqqisu, dhukkuba dhagna nama gubu kan agartuu
namaa balleessee jireenya namaa gogsu isinitti nan fida. Isin akkasumaan midhaan
facaafattu; diinota keessantu nyaataatii. 17 Akka isin diinota keessaniin mo’amtaniif
ani fuula isinittan hammaadha; warri isin jibban isin bulchu; isin utuu eenyu iyyuu
isin hin ari’in ni baqattu.

18 “ ‘Yoo isin wantoota kanneen hunda booddee naa ajajamuu diddan ani cubbuu
keessaniif dachaa torba isin adaba. 19 Of tuulummaa humna keessanii nan cabsa;
samii keessan akka sibiilaa, lafa keessan immoo akka naasii nan godha. 20 Humni
keessan akkasumaan bada; lafti keessan midhaan isaa, mukkeenis ija isaanii hin
kennaniitii.

21 “ ‘Yoo isin naan mormitanii na dhaga’uu diddan, ani akkuma cubbuu keessaniitti
dha’icha dachaa torba isinitti nan fida. 22 Anis bineensota bosonaa isinittan erga;
isaanis ijoollee keessan isin jalaa ni butatu; horii keessan ni barbadeessu; baay’inni
keessan ni xinnaata; daandiiwwan keessanis duwwaa hafu.

23 “ ‘Yoo isin waan kanneeniin deebi’uu diddanii naan mormuu keessan itti fuftan
garuu, 24 ani mataan koo isiniinan morma; sababii cubbuu keessaniitiifis dachaa
torba isin nan miidha. 25 Kakuu cabsuu keessaniifis goraadee isinitti fidee haaloo
isin nan baafadha. Yommuu isin gara magaalaawwan keessaniitti baqattanitti
ani gidduu keessanitti dha’icha nan erga; isinis dabarfamtanii harka diinotaatti
kennamtu. 26 Yommuu ani madda buddeena keessanii gogsutti, dubartoonni kudhan
eelee tokkotti buddeena tolchu, isaanis buddeena sana madaalanii isinii kennu; isin
ni nyaattu; garuu hin quuftan.

27 “ ‘Yoo isin waan kanaanis na dhaga’uu diddanii garuu naan mormuutti fuftan,
28 anis aaree isiniin nan morma; ani mataan koo sababii cubbuu keessaniitiif
dachaa torba isiniinan adaba. 29 Isin foon ilmaan keessaniitii fi foon intallan
keessanii ni nyaattu. 30 Iddoowwan sagadaa keessan barbadeessee iddoowwan
aarsaa ixaanaa keessan nan caccabsa; reeffa keessanis waaqota keessan warra
lubbuu hin qabne sana irra nan tuula; isinis nan balfa. 31 Magaalaawwan keessan
nan diiga; iddoowwan qulqulluu keessan nan onsa; urgaa keessan gammachiisaas hin
urgeeffadhu. 32 Ani akka diinonni keessan kanneen achi jiraatan rifataniif biyyattii
nan onsa; 33 ani saboota gidduu isin nan bittinneessa; goraadee koo luqqifadhees
isin nan ari’a. Biyyi keessan ni ona; magaalaawwan keessan immoo ni diigamu.
34 Biyyattiinis yeroo ontee isin biyya diinota keessanii keessa jiraattanitti sanbata
isheetti ni gammaddi; laftis boqottee sanbata isheetti gammaddi. 35 Biyyattiin yeroo
onte kana hunda boqonnaa sanbatootaa kan yeroo isin ishee irra jiraattanitti hin
argatin ni argatti.

36 “ ‘Warra isin keessaa hafan, ani utuma isaan biyya diinota isaanii jiranuu
garaa isaaniitti naasuu nan buusa. Sagaleen baala qilleensi raasuu isaan ari’a;

utuma namni isaan ari'u tokko illee hin jiraatin isaan akkuma waan goraadee jalaa
baqataniitti fiigu; ni kukkufus. 37 Namni isaan ari'u jiraachuu baatu illee isaan
akkuma waan goraadee jalaa baqataniitti wal gufachiisu. Isin fuula diinota keessanii
dura dhaabachuu hin dandeessan. 38 Isin saboota ormaa gidduutti dhumtu; lafti
diinota keessaniis isin liqimsiti. 39 Warri isin keessaa hafan immoo sababii cubbuu
isaaniitiif lafa diinota isaanii keessatti badu; sababii cubbuu abbootii isaaniitiinis ni
badu.

40 " 'Garuu yoo isaan cubbuu isaaniitii fi cubbuu abbootii isaanii jechuunis
gantummaa fi daba isaan natti hojjetan 41 kan akka ani isaaniin mormuu fi akka
ani biyya diinota isaaniitti isaan ergu himatan, yoo garaan isaanii kan dhagna hin
qabatin sun gad of deebisee isaan gatii cubbuu isaaniitiif malu baasan, 42 ani kakuu
koo kanan Yaaqoob wajjin gale, kakuu koo kanan Yisihaaq wajjin gale, kakuu koo
kanan Abrahaam wajjin gale sana nan yaadadha; biyyattiis nan yaadadha. 43 Lafti
isaan malee hafti; yeroo isaan malee haftuttis sanbatoota isheetti ni gammaddi. Isaan
sababii seera koo tuffatanii ajaja koos balfaniif gatii cubbuu isaanii ni baasu. 44 Ta'us
utuu isaan biyya diinota isaanii keessa jiranuu ani kakuu koo kanan isaan wajjin
gale sana cabsee guutumaan guutuutti isaan balleessuuf jedhee isaan hin tuffadhu
yookaan isaan hin balfu. Ani WAAQAYYO Waaqa isaanii ti. 45 Garuu ani isaaniif jedhee
kakuu ani abbootii isaanii warra ani Waaqa isaanii ta'uuf utuu saboonni arganuu
biyya Gibxiitii baasee fide sana wajjin gale nan yaadadha. Ani WAAQAYYO.' "

46 Kunneen labsiiwwan, seerawwanii fi qajeelcha WAAQAYYO Gaara Siinaa irratti
harka Museetiin ofii isaatii fi Israa'eloota gidduutti baasee dha.

# 27

## *Waan Qooda WAAQAYYOO Ta'e Furuu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akkana jedhii Israa'elootatti himi:
'Namni yoo gatii wal madaalu kennuudhaan WAAQAYYOOF nama kennuuf wareega
addaa godhe, 3 dhiira umuriin isaa waggaa digdamaa hamma jaatamaa ta'eef, akka
safartuu saqilii iddoo qulqulluutti herregni isaa meetii saqilii shantama haa ta'u.
4 Yoo dubartii taate immoo herregni ishee meetii saqilii soddoma haa ta'u. 5 Yoo nama
umuriin isaa waggaa shanii fi digdama gidduu ta'e, herregni dhiiraa meetii saqilii
digdamatti, kan dubartii immoo meetii saqilii kudhanitti haa herregamu. 6 Nama
umuriin isaa ji'a tokkoo hamma waggaa shanii ta'e immoo herregni isaa, dhiiraaf
meetii saqilii shan, durbaaf immoo meetii saqilii sadii haa ta'u. 7 Namni umuriin
isaa waggaa jaatama yookaan sanaa ol ta'e dhiirri meetii saqilii kudha shanitti,
dubartiin immoo meetii saqilii kudhanitti haa herregamu. 8 Namni wareega wareegu
hiyyoomee gatii murtaa'e sana yoo baasuu dadhabe, Museen nama sana lubatti haa
fidu; lubni immoo akkuma dandeettii namicha wareega wareege sanaatti gatii isaa
haa herreguuf.

9 " 'Wanni namichi sun wareege horii fuula WAAQAYYOO duratti aarsaa fudhatama
qabu yoo ta'e horiin WAAQAYYOOF kenname kan akkasii hundi ni qulqullaa'a.
10 Namichis horii sana geeddaruu yookaan horii gaarii horii jibbamaan yookaan
horii jibbamaa horii gaarii iddoo hin buusin; yoo inni horii tokko horii biraa iddoo
buuse horiin lamaanuu qulqulluu ta'u. 11 Yoo horiin inni wareege sun akka seeraatti
xuraa'aa jechuunis kan WAAQAYYOOF aarsaa ta'ee dhi'aachuu hin dandeenye ta'e
namichi sun horii sana gara lubatti haa fidu; 12 lubichis akka horiin sun gaarii
yookaan jibbamaa ta'e haa madaalu. Gatiin lubni madaale akkasuma haa ta'u.
13 Namichi sun yoo horii sana furachuu barbaade gatii herregame sanatti harka shan
keessaa harka tokko itti dabaluu qaba.

14 “ ‘Yoo namni tokko mana ofii Waaqayyoof qulqulleesse, akka manni sun gaarii
yookaan gadhee ta’e lubichi gatii isaa haa herregu. Gatiin lubni madaale akkasuma
haa ta’u. 15 Namichi mana isaa Waaqaaf qulqulleesse sun yoo mana ofii furachuu
barbaade, gatii herregame sanatti harka shan keessaa harka tokko itti dabaluu qaba;
manni sunis deebi’ee kan isaa ta’a.
16 “ ‘Yoo namni lafa dhaalaan argate irraa Waaqayyoof qulqulleesse gatiin lafa
sanaa akkuma baay’ina sanyii lafa sanaaf barbaachisuutti jechuunis garbuun
safartuun homeerii tokko meetii saqilii shantamatti herregama. 17 Yoo inni lafa
qotiisaa isaa Waggaa Iyyoobeeliyyuu keessa qulqulleesse gatiin duraan hedame sun
hin geeddaramu. 18 Garuu yoo inni waggaa Iyyoobeeliyyuu booddee lafa qotiisaa isaa
qulqulleesse lubichi akkuma baay’ina waggoota hamma waggaa Iyyoobeeliyyuu itti
aanuutti jiraniitti herrega; gatiin shallagame gad bu’a. 19 Yoo namichi lafa qotiisaa
isaa Waaqaaf addaan baasu sun lafa qotiisaa isaa furachuu barbaade, inni gatii
hedametti harka shan keessaa harka tokko haa dabalu; lafti qotiisaa sunis deebi’ee
kan isaa ta’a. 20 Ta’us yoo inni lafa qotiisaa sana furachuu baate, yookaan dabarsee
nama biraatti gurgure, lafti qotiisaa sun deebi’ee furamuu hin danda’u. 21 Lafti
qotiisaa sun yommuu Waggaa Iyyoobeeliyyuu keessa gad dhiifamutti akkuma lafa
qotiisaa Waaqayyoof kennameetti addaan baafama; kunis qabeenya lubootaa ta’a.
22 “ ‘Yoo namni tokko lafa qotiisaa dhaalaan hin argatin kan ofii isaatii bitate
Waaqayyoof qulqulleesse, 23 lubni gatii lafa qotiisaa sanaa hamma Waggaa Iyy-
oobeeliyyuutti herrega; namichis gatii herregame sana gaafuma sana kan Waaqayy-
oof qulqulleeffame godhee haa baasu. 24 Waggaa Iyyoobeeliyyuuttis lafti qotiisaa sun
namichuma irraa bitame kan abbaa lafa qotiisaa sanaa tureef ni deebi’a. 25 Gatiin
hundinuu akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti jechuunis geeraan digdamni saqilii
tokkootti herregama.
26 “ ‘Ta’us namni tokko iyyuu horii hangafa qulqulleessuu hin danda’u; hangafti
duraanuu Waaqayyoof qulqulleeffameeraatii; sangaas ta’u hoolaan hangafni kan
Waaqayyoo ti. 27 Yoo horiin sun xuraa’aa ta’e inni gatii herregame irratti harka shan
keessaa harka tokko dabalee deebisee bitachuu danda’a. Yoo inni furachuu baate
immoo horiin sun gatii isaaf herregametti gurgurama.
28 “ ‘Garuu wanni namni qabu kan inni Waaqayyoof qulqulleessu tokko illee
jechuunis namas ta’u horiin yookaan lafti dhaalaan argame hin gurguramu yookaan
hin furamu. Wanni akkasiin qulqulleeffame hundinuu akka malee Waaqayyoof
qulqulluudhaatii.
29 “ ‘Namni akka ajjeefamuuf murteeffame tokko illee hin furamu; inni ajjeefamuu
qaba.
30 “ ‘Wanni lafti baaftu kam iyyuu sanyiis ta’u ija mukaa harka kudhan keessaa
harki tokko kan Waaqayyoo ti; kun waan Waaqayyoof qulqulleeffamee dha.
31 Namni yoo kennaa isaa kan harka kudhan keessaa harka tokko ta’e sana furachuu
barbaade inni gatii kennaa sanaaf herregame irratti harka shan keessaa harka tokko
dabalee haa baasu. 32 Kennaan karra loonii fi bushaayee guutuu keessaa harka
kudhan keessaa harka tokko ta’e jechuunis horiin ulee tiksee jala ba’ee darbu hunda
keessaa harka kudhan keessaa harki tokko Waaqayyoof qulqullaa’a. 33 Inni horii
jibbamaa keessaa horii gaarii hin filatin yookaan iddoo hin buusin; yoo inni iddoo
buuse horiin lamaanuu qulqulluu ta’u; furamuus hin danda’u.’ ”
34 Kunneen ajajawwan Waaqayyo Gaara Siinaa irratti karaa Museetiin Is-
raa’elootaaf kennee dha.

# Seera
# Lakkoobsaa

*Lakkoobsa Sabaa*

1 Erga sabni Israa'el biyya Gibxiitii ba'ee booddee waggaa lammaffaa keessaa,
guyyaa jalqaba ji'a lammaffaatti WAAQAYYO dunkaana wal ga'ii keessatti, Gammoojjii
Siinaa keessatti Museetti dubbate. Innis akkana jedheen; 2 "Waldaa saba Israa'el
hunda lakkaa'aatii balbala balbalaanii fi maatii maatiidhaan maqaa dhiirotaa tokko
tokkoon barreessaa. 3 Namoota Israa'el keessaa dhiirota umuriin isaanii waggaa
digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hunda atii fi Aroon kutaa
kutaa isaaniitiin lakkaa'aa. 4 Tokkoo tokkoo gosaa keessaa namni hangafa maatii ofii
isaa ta'e isin gargaaruu qaba.

5 "Maqaan namoota isin gargaaruu qabanii kanneenii dha:

"Gosa Ruubeen keessaa Eliizuur ilma Shedee'uur;
6 gosa Simi'oon keessaa Shilumii'eel ilma Zuriishadaayi;
7 gosa Yihuudaa keessaa Nahishoon ilma Amiinaadaab;
8 gosa Yisaakor keessaa Naatnaa'el ilma Zuuwaar;
9 gosa Zebuuloon keessaa Eliiyaab ilma Heeloon;
10 ilmaan Yoosef keessaa:
gosa Efreem keessaa Eliishaamaa ilma Amiihuud;
gosa Minaasee keessaa Gamaali'eel ilma Phedaasuur;
11 gosa Beniyaam keessaa Abiidaan ilma Gaadeyoon,
12 gosa Daan keessaa Ahii'ezer ilma Amiishadaay;
13 gosa Aasheer keessaa Fagi'eel ilma Okraan;
14 gosa Gaad keessaa Eliyaasaaf ilma De'uu'eel;
15 gosa Niftaalem keessaa Ahiiraa ilma Eenaan."

16 Namoonni kunneen warra dura bu'oota gosoota abbootii isaanii ta'anii waldaa sana keessaa filatamanii dha. Isaanis hangafoota balbalawwan Israa'el turan.

17 Musee fi Aroon namoota maqaan isaanii eerame kanneen fudhatanii, 18 guyyaa
jalqaba ji'a lammaffaatti waldaa hunda walitti waaman. Namoonni sunis akkuma
balbalaa fi maatii isaaniitti hidda dhaloota isaanii himatan; dhiironni umuriin isaanii
waggaa digdamaatii fi hammasii olii maqaan isaanii tokko tokkoon galmeeffame;
19 innis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti Gammoojjii Siinaa keessatti saba sana
lakkaa'e.

20 Sanyii Ruubeen ilma Israa'el hangaftichaa keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti tokko tokkoon maqaa maqaadhaan barreeffaman.
21 Baay'inni gosa Ruubeen nama 46,500 ture.

22 Sanyii Simi'oon keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti tokko

tokkoon maqaa maqaadhaan barreeffaman. 23 Baay'inni gosa Simi'oon nama
59,300 ture.

24 Sanyii Gaad keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 25 Baay'inni gosa Gaad nama 45,650 ture.

26 Sanyii Yihuudaa keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 27 Baay'inni gosa Yihuudaa nama 74,600 ture.

28 Sanyii Yisaakor keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 29 Baay'inni gosa Yisaakor nama 54,400 ture.

30 Sanyii Zebuuloon keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmeewwan balbalaa fi maatii isaaniitti
maqaa maqaadhaan barreeffaman. 31 Baay'inni gosa Zebuuloon nama 57,400
ture.

32 Ilmaan Yoosef keessaa:
Sanyii Efreem keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 33 Baay'inni gosa Efreem nama 40,500 ture.
34 Sanyii Minaasee keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 35 Baay'inni gosa Minaasee nama 32,200 ture.

36 Sanyii Beniyaam keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 37 Baay'inni gosa Beniyaam nama 35,400 ture.

38 Sanyii Daan keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 39 Baay'inni gosa Daan nama 62,700 ture.

40 Sanyii Aasheer keessaa:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaaniitti maqaa maqaadhaan barreeffaman. 41 Baay'inni gosa Aasheer nama 41,500 ture.

42 Sanyii Niftaalem keessaa:

Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen lola
dhaquu danda'an hundinuu akkuma galmee balbalaa fi maatii isaanitti maqaa
maqaadhaan barreeffaman. 43 Baay'inni gosa Niftaalem nama 53,400 ture.

44 Dhiironni kunneen warra Musee fi Aroon hangafoota Israa'el kudha
lamaaniin lakkaa'aman turan; hangafoonni kunneenis tokkoon tokkoon
isaanii iddoo bu'oota maatii isaanii turan. 45 Israa'eloonni umuriin isaanii
waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen Israa'el keessatti lolaaf ba'uu
danda'an hundinuu akkuma maatii isaaniitti lakkaa'aman. 46 Walumaa
galatti baay'inni namaa 603,550 ture.

47 Lewwonni garuu akka gosa abbootii isaaniitti warra kaan wajjin hin
lakkaa'amne. 48 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhee ture: 49 "Ati gosa Lewwii
hin lakkaa'in yookaan lakkoobsa saba Israa'eloota kaaniitti hin dabalin. 50 Qooda
kanaa akka Lewwonni itti gaafatamtoota dunkaana dhuga ba'umsaa, mi'a isaa
hundaa fi waan inni qabu hundaa ta'aniif isaan muudi. Isaanis dunkaana qulqulluu
fi mi'a isaa hunda haa baatan; dunkaanicha haa tajaajilan; naannoo isaas haa
qubatan. 51 Yeroo dunkaanni qulqulluun deemuu qabutti Lewwonni dunkaana sana
haa buqqisan; yeroo dunkaanichi dhaabamus Lewwonni haa dhaaban. Namni
dunkaanichatti dhi'aatu biraa haa ajjeefamu. 52 Israa'eloonnis tokkoon tokkoon
namaa qubata isaa keessaa fi faajjii isaa jalatti kutaa kutaadhaan dunkaana isaanii
haa dhaabbatan. 53 Ta'us Lewwonni akka dheekkamsi WAAQAYYOO waldaa Israa'elitti
gad hin buuneef dunkaanota isaanii naannoo dunkaana dhuga ba'umsaa haa
dhadhaabatan. Lewwonni eegumsa dunkaana dhuga ba'umsaatti itti gaafatamtoota
ta'uu qabu."
54 Israa'eloonni akkuma WAAQAYYO Musee ajaje sanatti waan kana hunda hojjetan.

# 2

*Gosa Gosaan Qubachuu Isaanii*

1 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe: 2 "Israa'eloonnis tokkoon tokkoon
namaa faajjii ofii isaanii jalatti faajjii maatii isaa wajjin dunkaana irraa xinnuma
fagaatee naannoo dunkaana wal ga'ii haa qubatu."

3 Gama ba'aatiin, karaa ba'a biiftuutiin:
kutaawwan qubata Yihuudaa faajjii isaanii jala haa qubatan. Hoogganaan ijoollee
Yihuudaa Nahishoon ilma Amiinaadaabii ti. 4 Lakkoobsi kutaa isaas namoota
74,600.
5 Gosti Yisaakor isaanitti aanee haa qubatu. Hoogganaan ijoollee Yisaakor
Naatnaa'el ilma Zuuwaar ture. 6 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 54,400.
7 Gosti Zebuuloon kanatti haa aanu. Hoogganaan ijoollee Zebuuloon Eliiyaab ilma
Heeloonii ti. 8 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 57,400.
9 Namoonni qubata Yihuudaatti lakkaa'aman hundis akkuma kutaa kutaa
isaaniitti 186,400 turan. Isaanis duraan dursanii qajeelu.

10 Gama kibbaatiin:
kutaawwan qubata Ruubeen faajjii isaanii jalaan haa qubatan. Hoogganaan ijoollee
Ruubeen Eliizuur ilma Shedee'uurii ti. 11 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 46,500.
12 Gosti Simi'oon isaanitti aanee haa qubatu. Hoogganaan gosa Simi'oon Shilu-
mii'eel ilma Zuriishadaayii ti. 13 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 59,300.
14 Gosti Gaad isaanitti haa aanu. Hoogganaan gosa Gaad Eliyaasaaf ilma De'uu'eelii
ti. 15 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 45,650.

16 Namoonni qubata Ruubeenitti lakkaa'aman hundis akkuma kutaa kutaa isaaniitti 151,450 turan. Isaan kunneenis warra duraatti aananii deemu.

17 Ergasiis dunkaanni wal ga'iitii fi qubanni Lewwotaa qubatawwan gidduu haa deeman. Isaanis akkuma toora qubata isaaniitti tokkoon tokkoon isaanii iddoo isaanii eeggatanii faajjii isaanii jala haa deeman.

18 Gama dhi'aatiin gareen qubata Efreem faajjii isaanii jalaan haa qubatan.
Hoogganaan ilmaan Efreem Eliishaamaa ilma Amiihuudii ti. 19 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 40,500:
20 Gosti Minaasee isaanitti haa aanu. Hoogganaan ijoollee Minaasee Gamaali'eel ilma Phedaasuurii ti. 21 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 32,200.
22 Gosti Beniyaam itti haa aanu. Hoogganaan ilmaan Beniyaam Abiidaan ilma Gaadeyoonii ti. 23 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 35,400:
24 Namoonni qubata Efreemitti lakkaa'aman hundis kutaa kutaa isaaniitti 108,100 turan. Isaan kunneen immoo kutaa sadaffaa ta'anii deeman.

25 Gama kaabaatiin kutaawwan qubata Daan faajjii isaanii jalaan haa qubatan.
Hoogganaan gosa Daan Ahii'ezer ilma Amiishadaayii ti. 26 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 62,700.
27 Gosti Aasheer isaanitti aanee haa qubatu. Hoogganaan ijoollee Aseer Fagi'eel ilma Okraanii ti. 28 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 41,500:
29 Gosti Niftaalemitti haa aanu. Hoogganaan ijoollee Niftaalem Ahiiraa ilma Eenaanii ti. 30 Lakkoobsi kutaa isaas namoota 53,400:
31 Namoonni qubata Daaniitti lakkaa'aman hundis 157,600 turan. Isaanis dhuma irratti faajjii isaanii jalaan haa deeman.

32 Namoonni kunneen saba Israa'el warra akkuma maatii isaaniitti lakkaa'amanii dha. Lakkoobsi warra qubata keessaa kanneen kutaa kutaa isaaniitiin lakkaa'aman hundaa 603,550. 33 Lewwonni garuu akkuma
WAAQAYYO Musee ajaje sanatti Israa'eloota kaan wajjin hin lakkaa'amne.

34 Akkasiin Israa'eloonni waan WAAQAYYO Musee ajaje hunda hojjetan; isaanis haaluma kanaan faajjii isaanii jala haa qubatan; haaluma kanaanis tokkoon tokkoon isaanii balbalaa fi maatii isaanii wajjin ba'anii haa deeman.

# 3

*Lewwota*

1 Yeroo WAAQAYYO Tulluu Siinaa irratti Museetti dubbatetti seenaan sanyii Aroonii fi Musee kanaa dha.

2 Maqaan ilmaan Aroon: Naadaab hangafticha, Abiihuu, Ele'aazaarii fi Iitaamaar.
3 Kunneen maqaawwan ilmaan Aroon jechuunis luboota muudaman kanneen akka luboota ta'anii tajaajilaniif dibaman sanaa ti. 4 Naadaabii fi Abiihuu garuu yeroo Gammoojjii Siinaa keessatti ibidda hin eeyyamamin fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eessanitti fuuluma isaa duratti du'an. Isaan ilmaan tokko illee hin qaban ture. Kanaafuu Ele'aazaarii fi Iitaamaar bara abbaan isaanii Aroon lubbuun jiraatetti luboota ta'anii tajaajilan.

5 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 6 “Gosa Lewwii fidiitii akka isaan Aroon
lubicha gargaaraniif isa dura dhaabi. 7 Isaanis hojii dunkaana qulqulluu hojjechu-
udhaan waan isa irraa barbaadamuu fi waan waldaa hunda irraa barbaadamu
fuula dunkaana wal ga’ii duratti haa raawwatan. 8 Isaan hojii dunkaana qulqulluu
hojjetanii dirqama Israa’elootaa guutuudhaan mi’a dunkaana wal ga’ii hunda haa
eegan. 9 Lewwota sana Aroonii fi ilmaan isaatti kenni; isaan warra saba Israa’el
keessaa guutumaan guutuutti isatti kennamanii dha. 10 Ati akka isaan luboota ta’anii
tajaajilaniif Aroonii fi ilmaan isaa muudi; namni biraa kan iddoo qulqulluu sanatti
dhi’aatu garuu ajjeefamuu qaba.”

11 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 12 “Kunoo ani Israa’eloota keessaa qooda
dhiira hangafa dubartoota Israa’el hundaa Lewwota fudhadheera. Lewwonni kan
koo ti; 13 hangafti hundinuu kan kootii. Ani yeroo biyya Gibxi keessatti hangafa
hunda ajjeesetti hangafa Israa’el hunda jechuunis namas ta’u horii ofii kootiif addaan
baafadheera. Isaan kan koo ta’an. Ani WAAQAYYO.”

14 WAAQAYYO Gammoojjii Siinaa keessatti Museedhaan akkana jedhe; 15 “Lewwota
maatii isaaniitii fi balbala isaaniitiin lakkaa’i. Dhiira ji’a tokkoo yookaan hammasii
olii hunda lakkaa’i.” 16 Museen akkuma dubbiin WAAQAYYOO isa ajajetti isaan
lakkaa’e.

17 Kunneen maqaawwan ilmaan Lewwii ti:
Geershoon, Qohaatii fi Meraarii.
18 Kunneen maqaawwan ilmaan Geershoonii ti:
Loobeenii fi Shime’ii.
19 Balbalawwan Qohaatotaa:
Amraam, Yizihaar, Kebroonii fi Uzii’eel.
20 Balbalawwan Meraarotaa:
Mahilii fi Muusii.

Kunneen akkuma maatii isaaniitti balbalawwan Lewwotaa ti.

21 Balbalawwan Liibnii fi Shime’ii kan Geershoon turan; isaanis balbalawwan Geershoonotaa ti.
22 Baay’inni dhiirota umuriin isaanii ji’a tokkoo fi hammasii olii kanneen lakkaa’aman hundaa 7,500 ture.
23 Balbalawwan Geershoonotaa karaa lixa biiftuutiin dunkaana qulqulluu dugda duubaan qubatan.
24 Hoogganaan balbalawwan Geershoonotaas Eliyaasaaf ilma Laa’el ture.
25 Itti gaafatamni Geershoononni dunkaana wal ga’ii keessatti qabanis dunkaana
qulqulluu, dunkaanaa fi irra buusaa isaa, golgaa balbala dunkaana wal ga’ii irra
jiru, 26 golgaawwan oobdii, golgaa balbala dallaa kan dunkaana qulqulluu fi iddoo
aarsaatti naanna’ee jiru, funyoo fi tajaajila akkanaa kennu hunda eeguu ture.

27 Balbalawwan Amraamotaa, Yizihaarotaa, Kebroonotaa fi Uzii’eelotaa balbalawwan Qohaatii ti; isaanis balbalawwan Qohaatotaa turan.
28 Baay’inni dhiirota ji’a tokkoo fi hammasii olii hundaa 8,600 ture.
Qohaatonni iddoo qulqulluu sana eeguutti itti gaafatamtoota turan.
29 Balbalawwan Qohaatotaa karaa kibba dunkaana qulqulluutiin qubatan.
30 Hoogganaan maatiiwwan balbalawwan Qohaatotaas Eliisaafaan ilma Uzii’eel ture.
31 Isaanis taabota, minjaala, baattuu ibsaa, iddoowwan aarsaa, mi’a iddoo qulqulluu ittiin tajaajilan, golgaa fi wantoota tajaajila akkanaa kennan hunda eeguutti itti gaafatamtoota turan.

32 Hoogganaan Lewwotaa hangafti Ele’aazaar ilma Aroon lubichaa ture. Innis warra itti gaafatamtoota eegumsa iddoo qulqulluu turan sana irratti dibame.

33 Balbalawwan Mahelootaa fi Muusotaa kan Meraarii turan; isaanis balbalawwan Meraarotaa ti.
34 Baay’inni dhiirota umuriin isaanii ji’a tokkoo fi hammasii olii kanneen lakkaa’aman hundaa 6,200 ture.
35 Hoogganaan maatiiwwan balbalawwan Meraarotaas Zurii’el ilma Abiihaayilii ti; isaanis karaa kaaba dunkaana qulqullummaatiin qubatan.
36 Meraaronnis tuggeewwan dunkaana qulqulluu, dagaleewwan isaa, utubaawwan isaa, miillawwan isaa, mi’a isaa hundaa fi wantoota tajaajila akkanaa kennan
hunda, 37 akkasumas utubaawwan oobdii sanatti naanna’anii jiran, miillawwan isaanii, qofoo dunkaanaa fi funyoowwan isaa eeguuf muudaman.

38 Museen, Aroonii fi ilmaan Aroon dunkaana qulqulluu irraa karaa ba’aa, qixa ba’a biiftuutiin fuula dunkaana wal ga’ii dura qubatan.
Isaanis iddoo Israa’elootaa bu’anii iddoo qulqulluu eeguutti itti gaafatamtoota turan.
Namni biraa kan iddoo qulqulluu sanatti dhi’aatu haa ajjeefamu.

39 Lewwonni lakkaa’aman hundi kanneen Musee fi Aroon ajaja WAAQAYYOOTIIN akkuma balbala balbala isaaniitti lakkaa’an, dhiironni ji’a tokkoo fi hammasii olii hundi 22,000 turan.

40 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Dhiirota Israa’el hangafoota kanneen
ji’a tokkootii fi hammasii olii hunda lakkaa’ii maqaa isaanii barreessi. 41 Qooda
ijoollee Israa’el kanneen hangafa ta’an hundaa Lewwota naa fudhadhu; qooda ilmaan hangafa horii Israa’elootaa hundaas horii Lewwotaa naa fudhadhu. Ani WAAQAYYO.”
42 Museen akkuma WAAQAYYO isa ajajetti hangafoota Israa’el hunda lakkaa’e.
43 Dhiironni hangafoonni ji’a tokkoo fi hammasii olii kanneen maqaa maqaan barreeffaman hundii 22,273 turan.
44 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 45 “Qooda ijoollee Israa’el kanneen
hangafa ta’an hundaa Lewwota fudhadhu; qooda horii Israa’elootaas horii Lewwotaa
fudhadhu. Lewwonni kan koo ti. Ani WAAQAYYO. 46 Israa’eloota hangafoota 273
kanneen baay’ina Lewwotaa caalan furuuf, 47 tokkoo tokkoo isaaniitiif akkuma
madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii shan shan fuudhi; saqiliin tokko geeraa
digdama. 48 Maallaqa Israa’eloota dabalaman furuuf fuudhame sanas Aroonii fi ilmaan isaatti kenni.”
49 Museen maallaqa sana Israa’eloota lakkoobsaan warra Lewwotaan furamaniin
ol ta’an sana irraa fuudhe. 50 Innis akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti meetii
saqilii 1,365 ulfaattu Israa’eloota hangafa irraa fuudhe. 51 Museenis akkuma dubbii WAAQAYYOOTTI, akkuma Waaqni Musee ajajetti maallaqa furii sana Aroonii fi ilmaan isaatti kenne.

# 4

*Qohaatota*

1 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe: 2 “Lewwota keessaa gosa Qohaatotaa
balbala balbalaa fi maatii maatii isaaniitiin lakkaa’i. 3 Dhiirota umuriin isaanii
waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen hojii dunkaana wal ga’ii hojjechuuf dhufan hunda lakkaa’i.

4 “Hojiin Qohaatonni wantoota waan hunda caalaa qulqulluu ta’aniin wal qabatee
dunkaana wal ga’ii keessatti hojjetan kanaa dha. 5 Yommuu qubanni deemuuf
ka’utti Aroonii fi ilmaan isaa ol galanii golgaa da’eessu sana gad haa buusan; golgaa
sanaanis taabota kakuu seeraatti haa haguugan. 6 Waan kanattis gogaa duugame
uffisanii huccuu bifti isaa guutumaan guutuutti cuquliisa ta’e irraan haa afan.
Danqaraawwanis iddoo iddoo isaanii keessa haa galchan.

7 “Isaanis huccuu bifa cuquliisaa tokko minjaala Buddeena Ilaalchaatti uffisanii
gabatee, caabii fi waciitii akkasumas okkotee ittiin dhibaayyuu dhi’eessan isa irra
haa kaa’an; buddeenni yeroo hunda achii hin dhabamne sunis isa irra haa kaa’amu.
8 Huccuu bildiimaa isaan irra haa diriirsan; gogaa duugame itti haa uwwisan;
danqaraawwan isaas iddoo isaanii keessa haa galchan.

9 “Huccuu bifti isaa cuquliisaa fuudhanii baattuu ibsaa kan ibsuuf tolchame ibsaa
isaa wajjin, waan ittiin fo’aa ibsaa kutanii fi baattuu daaraa, meeshaawwan zayitii
kanneen hojii kanaaf oolan hundas ittiin haa haguugan. 10 Ergasiis waan kanaa
fi mi’a isaa hunda gogaa duugameen maranii wasaasaa ittiin waa baatan irra haa
kaa’an.

11 “Huccuu biftii isaa cuquliisa ta’es iddoo aarsaa kan warqee irraa hojjetametti
uffisanii gogaa duugame itti haa haguugan; danqaraawwan isaas iddoo isaanii keessa
haa galchan.

12 “Meeshaawwan ittiin iddoo qulqulluu keessa tajaajilan hundas fuudhanii huccuu
bifa cuquliisaatiin maranii gogaa duugameen haguuganii wasaasaa ittiin waa baatan
irra haa kaa’an.

13 “Isaanis iddoo aarsaa irraa daaraa haranii huccuu diimaa dhiilgee itti haa uffisan.
14 Ergasiis mi’a iddoo aarsaa ittiin tajaajilan hunda, baattuu ibiddaa, qabduuwwan
foonii, meeshaa ittiin daaraa hammaaranii fi waciitii isa irra haa kaa’an. Gogaa
duugamee isa irraan haa afan; danqaraawwan isaas iddoo isaanii keessa haa galchan.

15 “Erga Aroonii fi ilmaan isaa meeshaawwan qulqulluu sanaa fi mi’a qulqulluu
hunda haguuganii fixanii booddee yeroo qubanni sun godaanuuf ka’utti Qohaatonni
mi’a kana baachuudhaaf haa dhufan. Isaan garuu mi’a qulqulluu sana hin tuqin;
yoo tuqan ni du’uutii. Qohaatonni waan dunkaana wal ga’ii keessa jiru hunda haa
baatan.

16 “Ele’aazaar ilmi Aroon lubichaa itti gaafatamaa zayitii ibsaa, ixaana urgaa’aa,
kennaa midhaanii kan yeroo baay’ee dhi’eeffamuu fi zayitii ittiin dibanii haa
ta’u. Inni dunkaana qulqulluu hundaa fi waan isa keessa jiru hundatti, mi’aa fi
meeshaawwan isaa qulqulluuttis itti gaafatamaa haa ta’u.”

17 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe; 18 “Balbalawwan gosa Qohaatii
Lewwota keessaa hin balleessinaa. 19 Akka isaan yommuu wantoota waan hunda
caalaa qulqulluu ta’anitti dhi’aatanitti, akka lubbuun jiraatan malee hin duuneef
waan kana isaaniif godhaa: Aroonii fi ilmaan isaa iddoo qulqulluu seenanii waan
tokkoon tokkoon namaa hojjetuu fi baatu haa qoqqoodan. 20 Qohaatonni garuu
akka hin duuneef yeroo xinnaaf illee wantoota qulqulluu ilaaluudhaaf ol seenuu hin
qaban.”

### *Geershoonota*

21 WAAQAYYO Museen akkana jedhe; 22 “Geershoonotas maatii maatii isaanii fi
balbala balbala isaaniitiin lakkaa’i. 23 Dhiirota umuriin isaanii waggaa soddomaa
hamma shantamaa kanneen hojii dunkaana wal ga’ii hojjechuu dhufan hunda
lakkaa’i.

24 “Tajaajilli balbalawwan Geershoonotaa hojii hojjechuu fi ba’aa baachuudhaan
tajaajilan kanaa dha: 25 Isaan golgaa dunkaana qulqulluu, dunkaana wal ga’ii,
uffata isaa fi irra buusaa isaa kan gogaa duugame irraa hojjetame, golgaa balbala

dunkaana wal ga’ii, 26 golgaawwan dallaa dunkaana qulqulluu fi iddoo aarsaatti
naanna’ee jiru sanaa, golgaa balbala isaa, funyoo fi mi’a tajaajila kanaaf fayyadu
hunda baatu. Geershoononni waan wantoota kanaan hojjetamuu qabu hunda haa
hojjetan. 27 Tajaajilli Geershoonotaa hundi ba’aa baachuus ta’u hojiin biraa ajaja
Aroonii fi ilmaan isaa kennaniin haa adeemsifamu. Waan isaan baachuu qaban
hundas akkuma itti gaafatama isaaniitti qoqoodaafii. 28 Tajaajilli balbalawwan
Geershoonotaa dunkaana wal ga’iitti kennan kanaa dha. Hojiin isaaniis Iitaamaar
ilma Aroon lubichaatiin haa qajeelfamu.

### *Meraarota*

29 “Meraarota balbala balbalaa fi maatii maatii isaaniitiin lakkaa’i. 30 Dhiirota
umuriin isaanii waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen hojii dunkaana wal
ga’ii hojjechuuf dhufan hunda lakkaa’i. 31 Wanni isaan yeroo hojii dunkaana
wal ga’ii hojjetanitti godhan kanaa dha: kunis tuggeewwan dunkaana qulqulluu,
dagaleewwan isaa, utubootaa fi miillawwan isaanii, 32 utuboota oobdiitti naanna’anii
jiran miillawwan isaanii wajjin, qofoowwan dunkaanaa, funyoowwan, mi’a isaanii
hundaa fi wantoota hojii kanaaf fayyadan hunda baachuu dha. Isinis waan tokkoon
tokkoon namaa baatu addaan baasaatii ramadaafii. 33 Tajaajilli balbalawwan
Meraarotaa qajeelfama Iitaamaar ilma Aroon lubichaa jala dunkaana wal ga’ii
keessatti kennan kanaa dha.”

### *Lakkaa’amuu Gosa Lewwotaa*

34 Museen, Aroonii fi hooggantoonni waldaas Qohaatota balbala balbalaa fi maatii
maatii isaaniitiin lakkaa’an.
35 Dhiironni umuriin isaanii waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen
hojii dunkaana wal ga’ii keessaa sana keessa hojjechuuf dhufan hundi
36 balbala balbalaan lakkaa’amanii 2,750 turan. 37 Kun lakkoobsa balbalawwan
Qohaatota warra dunkaana wal ga’ii keessa hojjechaa turanii ti. Musee fi Aroon
akkuma ajaja WAAQAYYOO kan karaa Museetiin kennameetiin isaan lakkaa’an.

38 Geershoononni balbala balbalaa fi maatii maatii isaaniitiin lakkaa’aman.
39 Dhiironni umuriin isaanii waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen hojii
dunkaana wal ga’ii keessa hojjechuuf dhufan hundi 40 balbala balbalaa fi maatii
maatii isaaniitiin lakkaa’amanii 2,630 turan. 41 Balbalawwan Geershoonotaa,
warri hojii dunkaana wal ga’ii keessa hojjetan kanneen Musee fi Aroon akkuma
ajaja WAAQAYYOOTTI lakkaa’an hundi kanneenii dha.

42 Meraaronnis balbala balbalaa fi maatii maatii isaaniitiin lakkaa’aman.
43 Dhiironni umuriin isaanii waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen
hojii dunkaana wal ga’ii keessa tajaajiluu dhufan hundi 44 balbala balbala
isaaniitiin lakkaa’amanii 3,200 turan. 45 Warri balbalawwan Meraarotaa
keessaa lakkaa’aman kanneen Musee fi Aroon akkuma ajaja WAAQAYYOO kan
karaa Museetiin kenname sanaatti lakkaa’an kanneenii dha.

46 Museen, Aroonii fi hooggantoonni Israa’el Lewwota hunda balbala
balbalaa fi maatii maatii isaaniitiin lakkaa’an. 47 Dhiironni umuriin isaanii
waggaa soddomaa hamma shantamaa kanneen hojii tajaajilaa hojjechuu
fi dunkaana wal ga’ii baachuu dhufanii 48 lakkaa’aman hundi 8,580 turan.
49 Isaanis akkuma ajaja WAAQAYYOO kan karaa Museetiin kennameetiin
tokkoon tokkoon isaanii waan hojjechuu qabanitti ramadaman; wanni
isaan baachuu qabanis isaanitti himame.

Akkasiin isaan akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti lakkaa’aman.

# 5

### *Qulqullina Qubataa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Nama dhukkuba gogaa kan namatti
darbu qabu yookaan nama dhangala’aa dhagnaa qabu yookaan nama sababii waan
du’e tokkootiin xuraa’aa ta’e kam iyyuu akka qubata keessaa baasaniif saba Israa’el
ajaji. 3 Dhiiras dubartiis gad baasaa; akka isaan qubata isaanii iddoo ani gidduu
isaanii jiraadhu sana hin xureessineef qubata keessaa isaan baasaa.” 4 Israa’eloonnis
akkanuma godhanii qubata keessaa isaan baasan. Isaanis akkuma WAAQAYYO
Museetti hime sana godhan.

### *Kiisii Yakkaaf Baafamu*

5 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 6 “Warra Israa’eliin akkana jedhi: ‘Yoo
dhiirri yookaan dubartiin tokko karaa kamiin iyyuu nama kaanitti balleessa
hojjechuudhaan WAAQAYYO duratti amanamummaa dhabe, namni sun yakkamaa
dha; 7 cubbuu hojjetes himachuu qaba. Yakka isaatiifis guutumaan guutuutti haa
kiisu. Kiisii sana irrattis harka shan keessaa harka tokko dabalee namicha miidhame
sanaaf haa kennu. 8 Namni yakki isa irratti hojjetame sun yoo fira aantee kan kiisii
sana isaaf fuudhu qabaachuu baate garuu kiisiin sun kan WAAQAYYOO ti; korbeessa
hoolaa ittiin araarri isaaf buufamu wajjin lubaaf haa kennamu. 9 Buusiiwwan
qulqulluun Israa’eloonni lubatti fidan hundi kan isaa ti. 10 Wantoonni qulqulluun
kanuma abbootii isaanii ti; wanni isaan lubichaaf kennan garuu kanuma lubichaa
ti.’ ”

### *Niitii Dhirsaaf Hin Amanamne*

11 Ergasii WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 12 “Akkana jedhiitii saba Israa’elitti
dubbadhu: ‘Yoo niitiin nama kamii iyyuu karaa irraa baduudhaan isaaf amanamuu
baattee 13 dhiira biraa wajjin ciifte, yoo dhirsi ishees waan kana beekuu baate, yoo
xuraa’ummaan ishee akkuma dhokatetti hafe, yoo namni ishee irratti dhugaa ba’u
hin argamin, isheen yoo waan kana irratti hin qabamin, 14 yoo dhirsa ishee hafuurri
hinaaffaa qabatee inni niitii isaa shakke, yoo isheen xurooftuu taate yookaan yoo inni
hinaafee ishee shakkee isheen xurooftuu hin ta’in, 15 inni niitii isaa lubatti haa geessu.
Akkasumas inni kennaa daakuu garbuu iifii* harka kudhan keessaa harka tokko
qooda ishee haa geessu. Kennaan midhaanii kan sababii hinaaffaatiif dhi’eeffamu
kun waan kennaa yaadannoo kan yakka yaadachiisu ta’eef, inni zayitii fi ixaana itti
naquu hin qabu.
16 “ ‘Lubichis ishee fidee fuula WAAQAYYOO dura ishee haa dhaabu. 17 Ergasii
inni bishaan qulqulluu okkotee supheetti haa naqu; lafa dunkaana qulqulluu irraa
biyyoo fuudhee bishaan sana keessa haa buusu. 18 Lubichis erga dubartii sana fuula
WAAQAYYOO dura dhaabee booddee rifeensa mataa ishee hiikee kennaa yaadannoo
jechuunis kennaa midhaanii kan hinaaffaaf dhi’eeffamu sana harka ishee keessa
kaa’a; bishaan hadhaa’aa abaarsa fidu sanas harka ofiitti qabata. 19 Lubichis
dubartii sana ni kakachiisa; akkanas jedhaan; “Yoo utuu ati dhirsa qabduu namni
biraa si wajjin hin ciisinii fi yoo ati karaa irraa baddee hin xuraa’in bishaan
hadhaa’aan abaarsa fidu kun si hin miidhin. 20 Garuu ati yoo karaa irraa baddee
utuu dhirsa qabduu nama dhirsa kee hin ta’in wajjin ciiftee of xureessitee argamte;”
21 kana irratti lubichi kakaa abaarsaa ishee kakachiisa; akkanas jedhaan; “WAAQAYYO
gudeeda kee tortorsee garaa kee illee bokoksee saba kee gidduutti kakaa fi abaarsaaf
si haa godhu. 22 Akka garaan kee bokokuu fi akka gudeedni kee tortoruuf bishaan
abaarsa fidu kun dhagna kee haa seenu.”
“ ‘Dubartiin sunis, “Ameen, ameen” haa jettu.

---

* **5:15** 5:15 Iifiin tokko kiiloo giraamii 1.6.

23 “ ‘Lubichis abaarsawwan sana kitaaba maramaa irratti haa barreessu; ergasiis
bishaan hadhaa’aa sanatti irraa haa dhiqu. 24 Innis akka dubartiin sun bishaan
hadhaa’aa abaarsa fidu sana dhugdu haa godhu; bishaan abaarsaa fi dhiphina hamaa
fidu sunis ishee seena. 25 Lubichis kennaa midhaanii kan hinaaffaa sana ishee harkaa
fuudhee fuula WAAQAYYOO duratti sochoosee gara iddoo aarsaa fida. 26 Lubni sunis
kennaa midhaanii sana irraa konyee tokko kennaa yaadannootiif fuudhee iddoo
aarsaa irratti haa gubu; ergasiis akka dubartiin sun bishaan sana dhugdu haa godhu.
27 Yoo isheen of xureessitee dhirsa isheetiif amanamuu baatte, yommuu isheen
bishaan abaarsa fidu sana dhugdutti bishaan sun ishee seenee dhiphina hamaa
isheetti fida; garaan ishee ni bokoka; gudeedni ishee ni tortora; isheenis saba ishee
biratti abaaramtuu taati. 28 Garuu yoo dubartiin sun of xureessuu baattee fi yoo
qulqulluu taate isheen yakka irraa bilisa taati; da’uus ni dandeessi.
29 “ ‘Yoo dubartiin utuma dhirsa qabduu karaa irraa gortee of xureessite 30 yookaan
yoo dhiirri sababii niitii ofii shakkuuf hafuurri hinaaffaa isa qabate, seerri hinaaffaaf
kenname kanaa dha. Lubichi dubartii sana fuula WAAQAYYOO dura dhaabee seera
kana hunda ishee irratti haa raawwatu. 31 Dhirsi sun balleessaa irraa bilisa ta’a;
dubartiin sun garuu gatii cubbuu ishee argatti.’ ”

# 6

*Seera Naazirummaa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akkana jedhii saba Israa’elitti dubbadhu:
‘Dhiirri yookaan dubartiin tokko yoo WAAQAYYOOF addaan of baasuuf wareega addaa
yookaan wareega Naazirummaa wareegan, 3 daadhii wayinii fi dhugaatii nama
macheessu irraa of haa eeggatan; namni sun dhangaggaa’aa daadhii wayinii irraa
hojjetame yookaan dhangaggaa’aa dhugaatii nama macheessuu biraa hin dhugin.
Inni cuunfaa gumaa wayinii dhuguu yookaan ija wayinii asheetii yookaan goggogaa
isaa nyaachuu hin qabu. 4 Innis bara Naazirummaa isaa hunda keessa waan gumaa
wayinii irraa argamu kam iyyuu sanyii isaas ta’u qola isaa nyaachuu hin qabu.
5 “ ‘Bara wareega addaan baafamuu isaa hunda keessa qarabaan tokko iyyuu
mataa isaa hin tuqin. Hamma yeroon inni itti WAAQAYYOOF addaan baafame sun
xumuramutti inni qulqulluu haa ta’u; akka rifeensi mataa isaa guddatuufis gad haa
dhiisu.
6 “ ‘Naazirichi bara WAAQAYYOOF addaan of baase hunda keessa reeffatti dhi’aachuu
hin qabu. 7 Sababii mallattoon inni ittiin WAAQAYYOOF addaan baafame mataa isaa
irra jiruuf yoo abbaan isaa yookaan haati isaa, obboleessi isaa yookaan obboleettiin
isaa du’an illee isaaniif jedhee akka seeraatti of hin xureessin. 8 Inni bara itti addaan
baafame sana hunda keessa kan WAAQAYYOOF qulqulleeffamee dha.
9 “ ‘Yoo namni tokko iddoo Naazirichi jirutti akka tasaa du’ee akkasiin rifeensa
inni addaan baase sana xureesse, inni guyyaa itti qulqulleeffamutti jechuunis guyyaa
torbaffaatti mataa isaa haa haaddatu. 10 Ergasiis inni guyyaa saddeettaffaatti gugee
lama yookaan gugee sosookkee lama balbala dunkaana wal ga’ii irratti lubatti haa
fidu. 11 Sababii inni iddoo reeffi jirutti argamuudhaan cubbuu hojjeteef lubichi isa
tokko aarsaa cubbuu, isa kaan immoo aarsaa gubamu godhee araara buusuuf haa
dhi’eessuuf. Guyyuma sanas rifeensa mataa isaa addaan haa baasu. 12 Inni yeroo
itti addaan baafame keessa ammas WAAQAYYOOF addaan of haa baasu; xobbaallaa
hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’es aarsaa yakkaa godhee haa fidu. Garuu
sababii inni yeroo addaan ba’iisa isaa keessa xureeffameef guyyoonni darban hin
lakkaa’aman.
13 “ ‘Egaa yeroo addaan ba’umsi isaa xumuramutti seerri Naazirichaa kanaa dha:
Inni gara karra dunkaana wal ga’iitti haa fidamu. 14 Achitti aarsaa isaa WAAQAYYOOF

haa dhi'eessu; kunis xobbaallaa korbeessa hoolaa hir'ina hin qabnee kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e aarsaa gubamuuf, xobbaallaa hoolaa dhaltuu hir'ina hin qabne kan umuriin ishee waggaa tokko ta'e aarsaa cubbuutiif, korbeessa hoolaa hir'ina hin qabne aarsaa nagaatiif,
15 kana wajjinis Maxinoo gundoo tokko, Maxinoo daakuu bullaa'aa irraa tolfame kan zayitiidhaan sukkuumame, bixxillee zayitiin irra dibame akkasumas kennaa midhaanii fi dhibaayyuu isaanii haa dhi'eessu.
16 " 'Lubichis fuula WAAQAYYOO duratti isaan fidee aarsaa cubbuutii fi aarsaa gubamu haa dhi'eessu.
17 Innis korbeessa hoolaa sana Maxinoo gundoo irra jiru sana wajjin aarsaa nagaa godhee WAAQAYYOOF haa dhi'eessu; akkasumas lubichi kennaa midhaaniitii fi dhibaayyuu isaa haa dhi'eessu.
18 " 'Ergasii Naazirichi balbala dunkaana wal ga'ii duratti rifeensa addaan baase sana haa haaddatu. Rifeensa sanas fuudhee ibidda aarsaa nagaa jalaan jiru sana keessa haa buusu.
19 " 'Erga Naazirichi rifeensa ittiin addaan baafame sana haaddatee booddee lubni sun foon gatiittii korbeessa hoolaa kan affeelamee fi Maxinoo fi bixxillee hin bukaa'in gundoo sana irraa fuudhee harka namichaa irra haa kaa'u.
20 Ergasiis lubichi aarsaa sochoofamu godhee fuula WAAQAYYOO duratti isaan haa sochoosu; isaanis handaraafa sochoofamee fi tafa dhi'eeffame sana wajjin lubichaaf kan qulqulleeffamanii dha. Ergasii Naazirichi daadhii wayinii dhuguu ni danda'a.
21 " 'Seerri Naaziricha waan kennuu danda'u kaan dabalatee akkuma addaan ba'umsa isaatti kennaa isaa WAAQAYYOOF wareegu tokkoo kanaa dha. Innis akkuma seera Naazirichaatti waan wareege sana raawwachuu qaba.' "

### *Eebba Lubootaa*

22 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe;
23 "Aroonii fi ilmaan isaatti akkana jedhii himi; 'Akki isin itti Israa'eloota eebbiftan kanaa dha. Akkana jedhaanii:
24 " ' "WAAQAYYO si haa eebbisu;
si haa eegus;
25 WAAQAYYO fuula isaa siif haa ibsu;
garaa siif haa laafu.
26 WAAQAYYO fuula isaa gara keetti haa deebisu;
nagaas siif haa kennu." '
27 "Akkasitti isaan maqaa koo saba Israa'el irra kaa'u; anis isaan nan eebbisa."

# 7

### *Sirna Eebba Dunkaana Qulqulluu*

1 Museen erga dunkaana qulqulluu sana dhaabee fixatee booddee, dunkaanichaa fi mi'a isaa hunda dibe; ni qulqulleesses. Akkasumas iddoo aarsaatii fi mi'a isaa hunda dibee qulqulleesse.
2 Ergasii hooggantoonni Israa'el, hangafoonni maatiiwwanii kanneen hooggantoota gosootaa ta'anii warra lakkaa'aman sana qajeelchanis kennaa dhi'eessan.
3 Isaanis gaariiwwan haguugaman ja'aa fi sangoota kudha lama jechuunis tokkoo tokkoo hooggantootaa irraa sangaa tokko, lama lama ta'anii immoo gaarii tokko kennaa ofii godhanii fuula WAAQAYYOO duratti fidan. Kennaawwan kanneenis dunkaana qulqulluu sana duratti dhi'eessan.
4 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe;
5 "Akka isaan hojii dunkaana wal ga'ii hojjechuu keessatti fayyadaniif kennaawwan kanneen isaan harkaa fuudhi. Waan kana akkuma hojiin tokkoo tokkoo namaa barbaaddutti Lewwotatti kenni."
6 Museenis gaariiwwanii fi sangoota sana fuudhee Lewwotatti kenne.
7 Innis akkuma hojii isaaniitiif malutti gaariiwwan lamaa fi sangoota afur ilmaan Geershoonitti kenne;
8 gaariiwwan afurii fi sangoota saddeet akkuma hojii isaaniitiif malutti ilmaan Meraaritti kenne. Isaan hundinuu qajeelfama Iitaamaar ilma Aroon

lubichaa jala turan. 9 Ilmaan Qohaati garuu sababii mi'a qulqulluu gatiittiitti
baachuun hojii isaanii ta'eef Museen homaa isaaniitti hin kennine.

10 Yeroo iddoon aarsaa dibametti hooggantoonni kennaawwan isaanii eebba iddoo
aarsaatiif fidanii iddoo aarsaa duratti dhi'eessan. 11 WAAQAYYO Museedhaan, "Dura
bu'aan tokko guyyuma tokko kennaa isaa sirna eebba iddoo aarsaa sanaatiif haa dhi'eessu" jedhee tureetii.

12 Namni guyyaa jalqabaatti kennaa ofii fide Nahishoon ilma Amiinaadaab kan gosa Yihuudaa ture.

13 Kennaan isaas
gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokkoo fi waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu kan tokkoon tokkoon isaanii akka kennaa midhaaniitti daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

14 cilfaa warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

15 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokkoo fi xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

16 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

17 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'e ture.

Kennaan Nahishoon ilmi Amiinaadaab dhi'eesse kana ture.

18 Guyyaa lammaffaattis Naatnaa'el ilma Zuuwaar dura bu'aa Yisaakoritu kennaa isaa fide.

19 Kennaan inni fides gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko,

waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kan tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

20 caabii warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

21 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokkoo fi xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

22 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

23 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Kennaan Naatnaa'el ilma Zuuwaar kana ture.

24 Guyyaa sadaffaatti Eliiyaab ilma Heeloon hangafa ijoollee Zebuuloonitu kennaa isaa fide.

25 Kennaan isaas
gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

26 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

27 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

28 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

29 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korommii re’ee shanii fi xobbaallaa korbeeyyii hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Eliiyaab ilma Heeloon kana ture.

30 Guyyaa afuraffaatti Eliizuur ilma Shedee’uur dura bu’aa ijoollee Ruubeen-itu kennaa isaa fide.

31 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kan tokkoo tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

32 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

33 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa umuriin isaa waggaa tokko ta’e tokko,

34 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

35 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re’ee shanii fi xobbaallaa korbeeyyii hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Eliizuur ilma Shedee’uur kana ture.

36 Guyyaa shanaffaatti Shilumii’eel ilma Zuriishadaayi hoogganaa ijoollee Simi’oonitu kennaa isaa fide.

37 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko, kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

38 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

39 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’e tokko,

40 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

41 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re’ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ture.

Egaa kennaan Shilumii’eel ilma Zuriishadaayi kana ture.

42 Guyyaa ja’affaatti Eliyaasaaf ilma De’uu’eel dura bu’aa ijoollee Gaaditu kennaa isaa fide.

43 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kana akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkumameen guutaman,

44 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

45 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’e tokko,

46 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

47 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korommii re’ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Eliyaasaaf ilma De’uu’eel kana ture.

48 Guyyaa torbaffaatti Eliishaamaa ilma Amiihuud dura bu’aa ijoollee Efreemitu kennaa isaa fide.

49 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkumameen guutaman,

50 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

51 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’e tokko,

52 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

53 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re’ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ture.

Egaa kennaan Eliishaamaa ilma Amiihuud kana ture.

54 Guyyaa saddeettaffaatti Gamaali’eel ilma Phedaasuur hoogganaa ijoollee Minaaseetu kennaa isaa fide.

55 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

56 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame,

57 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’e,

58 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

59 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korommii re’ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Gamaali’eel ilma Phedaasuur kana ture.

60 Guyyaa saglaffaatti Abiidaan ilma Gaadeyoon dura bu’aa ijoollee Beniyaamitu kennaa isaa fide.

61 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa’aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

62 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame,

63 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta’e tokko,

64 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee tokko,

65 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Abiidaan ilma Gaadeyoon kana ture.

66 Guyyaa kudhannaffaatti Ahii'ezer ilma Amiishadaay dura bu'aa ijoollee Daanitu kennaa isaa fide.

67 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

68 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame,

69 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

70 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

71 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi korbeeyyii hoolaa xixinnaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Ahii'ezer ilma Amiishadaay kana ture.

72 Guyyaa kudha tokkoffaatti Fagi'eel ilma Okraan hoogganaa ijoollee Aasheeritu kennaa isaa fide.

73 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daaku bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

74 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame,

75 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

76 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

77 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Fagi'eel ilma Okraan kana ture.

78 Guyyaa kudha lammaffaatti Ahiiraa ilma Eenaan hoogganaa ijoollee Niftaalemitu kennaa isaa fide.

79 Kennaan isaas

gabatee meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii dhibba tokkoo fi soddoma ulfaatu tokko, waciitii meetii kan akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii torbaatama ulfaatu tokko kanneen tokkoon tokkoon isaanii akkuma kennaa midhaaniitti daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumameen guutaman,

80 xuwwee warqee kan saqilii kudhan ulfaatee ixaanaan guutame tokko,

81 aarsaa gubamuufis dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaa hoolaa kan umuriin isaa waggaa tokko ta'e tokko,

82 aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re'ee tokko,

83 aarsaa nagaatiif qaluufis sangoota lama, korbeeyyii hoolaa shan, korbeeyyii re'ee shanii fi xobbaallaawwan hoolaa shan kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkoo ture.

Egaa kennaan Ahiiraa ilma Eenaan kana ture.

84 Kennaan hooggantoonni Israa'el gaafa iddoon aarsaa dibame sana sirna eebbaatiif dhi'eessan kana ture;
isaanis gabatee meetii kudha lama, waciitii meetii kudha lamaa fi xuwwee
warqee kudha lama: 85 Tokkoon tokkoon isaanii meetii saqilii dhibba tokkoo
fi soddoma ulfaatu ture; tokkoon tokkoon waciitii meetii saqilii torbaatama ulfaata ture. Mi'i meetii kun akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti walumaa
galatti saqilii kuma lamaa fi dhibbaa afur ulfaata ture. 86 Xuwweewwan
warqee kudha lamaan kanneen ixaanaan guutamanis tokkoon tokkoon isaanii akka madaalii saqilii iddoo qulqulluutti saqilii kudhan ulfaatu turan. Xuwweewwan warqee walumaa galatti saqilii dhibba tokkoo fi digdama ulfaatu turan.
87 Baay'inni horii aarsaa gubamuuf dhi'eeffamanii walumaa galatti jiboota loonii kudha lama, korbeeyyii hoolaa kudha lama, xobbaallaawwan hoolaa kanneen umuriin isaanii waggaa tokko ta'e kudha lama ture; kennaan midhaaniis isaan wajjin dhi'eeffameera. Korbeeyyiin re'ee kudha lama aarsaa cubbuutiif dhi'eeffamanii turan.
88 Baay'inni horii aarsaa nagaatiif dhi'eeffamanii walumaa galatti sangoota digdamii afur, korbeeyyii hoolaa jaatama, korbeeyyii re'ee jaatamaa fi xobbaallaawwan hoolaa kanneen umuriin isaanii waggaa tokko ture.

Kennaawwan erga iddoon aarsaa dibamee booddee sirna eebba isaatiif dhi'eeffaman kanneen turan.

89 Museen yommuu WAAQAYYO wajjin dubbachuuf dunkaana wal ga'ii ol seenetti teessoo araaraa kan taabota kakuu seeraa irra jiruun olitti kiirubeelii lamaan gidduudhaa sagalee isatti dubbatu dhaga'e. WAAQAYYO isa wajjin dubbate.

# 8

### *Ibsaawwan Kaa'uu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Aroonitti akkana jedhii dubbadhu;
'Yeroo ati ibsaawwan torban qabsiiftutti isaan iddoo baattuu ibsaa fuula dura jiru haa ibsan.' "
3 Aroonis akkasuma godhe; innis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti akka isaan fuula
baattuu ibsaa duraan ifa kennaniif ibsaawwan sana qabsiise. 4 Akki itti baattuun
ibsaa tolfame akkana: Miilla isaa irraa jalqabee hamma daraaraa isaatti warqee tumame irraa hojjetame. Baattuun ibsaa sun akkuma fakkeenya WAAQAYYO Museetti argisiise sanaatti hojjetame.

### *Addaan Baafamuu Lewwotaa*

5 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe: 6 "Saba Israa'el keessaa Lewwota fuudhii
qulqulleessi. 7 Isaan qulqulleessuufis waan kana godhi: bishaan qulqullaa'ummaa
isaanitti facaasi; akka isaan dhagna isaanii guutuu haaddatanii akkasiin uffata ofii
miiccatanii of qulqulleessan godhi. 8 Isaanis dibicha loonii tokko kennaa midhaanii
kan daakuu bullaa'aa zayitiidhaan sukkuumame wajjin haa fuudhan; atis dibicha
loonii lammaffaa aarsaa cubbuutiif fuudhi. 9 Lewwota fuula dunkaana wal ga'ii
duratti dhi'eessiitii waldaa Israa'elootaa guutuu walitti qabi. 10 Lewwotas fuula

WAAQAYYOO duratti dhi’eessi; sabni Israa’el harka isaanii Lewwota irra haa kaa’an.
11 Aroonis akka Lewwonni WAAQAYYO tajaajiluu danda’aniif saba Israa’el keessaa
aarsaa sochoofamu godhee fuula WAAQAYYOO duratti isaan haa dhi’eessu.

12 “Erga Lewwonni harka isaanii mataa jiboota sanaa irra kaa’anii booddee ati
Lewwotaaf araaraa buusuudhaaf dibicha tokko aarsaa cubbuu, kaan immoo aarsaa
gubamu godhiitii WAAQAYYOOF dhi’eessi. 13 Akka Lewwonni fuula Aroonii fi fuula
ilmaan isaa dura dhaabatan godhi; ergasiis aarsaa sochoofamu godhiitii WAAQAYYOTTI
isaan dhi’eessi. 14 Haala kanaan Israa’eloota kaan keessaa Lewwota addaan baasi;
Lewwonnis kan koo haa ta’an.

15 “Erga ati Lewwota qulqulleessitee aarsaa sochoofamu gootee isaan dhi’eessitee
booddees isaan hojii dunkaana wal ga’ii hojjechuuf haa dhufan. 16 Isaan Israa’eloota
keessaa guutumaan guutuutti naaf kennamuu qabu. Ani qooda hangafa saba Israa’el
kan gadameessa saaqu hundaa Lewwota ofii kootiif fudhadheera. 17 Israa’el keessaa
dhiirri hangafni hundi namas ta’u horiin kan koo ti. Ani yeroon biyya Gibxi keessatti
hangafa hunda ajjeese sana ofii kootiifan addaan isaan baafadhe. 18 Ani qooda ilmaan
Israa’el hangafoota hundaa Lewwota fudhadheera. 19 Yommuu Israa’eloonni iddoo
qulqulluutti dhi’aatanitti akka dha’ichi isaan hin arganneef, akka isaan Israa’elootaaf
araara buusanii fi akka isaan tajaajila Israa’elootaa dunkaana wal ga’ii keessatti
raawwataniif ani Lewwota saba Israa’el hunda keessaa Aroonii fi ilmaan isaatiif
kennaa godhee kenneera.”

20 Museen, Aroonii fi waldaan Israa’el guutuun akkuma WAAQAYYO Musee ajaje
sana Lewwotas godhan. 21 Lewwonnis of qulqulleessanii wayyaa ofii miiccatan.
Aroonis akkuma aarsaa sochoofamuutti fuula WAAQAYYOO duratti isaan dhi’eesse;
isaan qulqulleessuufis araara isaaniif buuse. 22 Ergasii Lewwonni qajeelcha Aroonii
fi ilmaan isaatiin hojii dunkaana wal ga’ii hojjechuudhaaf dhufan. Isaanis akkuma
WAAQAYYO Musee ajaje sana Lewwotas godhan.

23 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 24 “Kun seera Lewwotaaf kennamee dha:
Dhiironni umuriin isaanii waggaa digdamii shanii fi hammasii olii hojii dunkaana
wal ga’ii keessatti hirmaachuuf haa dhufan; 25 umurii waggaa shantamaatti garuu
tajaajila isaanii haa dhaaban; deebi’aniis hin tajaajilin. 26 Hojii dunkaana wal ga’ii
irratti obboloota ofii gargaaruu ni danda’u; ofii isaaniitii garuu hojii sana hin hojjetin.
Egaa kun haala itti ati itti gaafatama Lewwotaa ramadduu dha.”

# 9

*Faasiikaa*

1 WAAQAYYO erga isaan Gibxii ba’anii booddee ji’a jalqabaa kan waggaa lammaf-
faatti Gammoojjii Siinaa keessatti akkana jedhee Museetti dubbate; 2 “Israa’eloonni
yeroo murtaa’etti Faasiikaa haa ayyaaneffatan. 3 Isin akkuma seeraa fi dambii
ayyaana kanaa hundaatti yeroo murtaa’etti ji’a sana keessa, dimimmisa galgala
guyyaa kudha afuraffaatti ayyaaneffadhaa.”

4 Museen akka isaan Faasiikaa ayyaaneffatan Israa’elootatti hime; 5 isaanis ji’a
jalqabaa keessa dimimmisa galgala guyyaa kudha afuraffaatti Gammoojjii Siinaa
keessatti ayyaaneffatan. Sabni Israa’el akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti waan hunda
godhe.

6 Isaan keessaa namoonni tokko tokko sababii reeffa tuqanii xuraa’aniif guyyaa
sana Faasiikaa ayyaaneffachuu hin dandeenye. Isaan guyyuma sana gara Musee fi
Aroonii dhufanii, 7 Museedhaan akkana jedhan; “Nu sababii reeffa namaa tuqneef
xuroofneerra; garuu maaliif yeroo murtaa’e sanatti Israa’eloota kaan wajjin aarsaa
WAAQAYYOO dhi’eessuu dhowwamne?”

8 Museenis, “Hamma ani waan WAAQAYYO waa’ee keessan ajaju dhaga’utti turaa”
jedheen.

9 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; 10 “Israa’elootaan akkana jedhi: ‘Isin
keessaa yookaan ilmaan keessan keessaa namni tokko yoo reeffa tuqee xuraa’e
yookaan karaa fagoo deeme, inni amma iyyuu Faasiikaa WAAQAYYOO ayyaaneffachuu
ni danda’a. 11 Isaanis ji’a lammaffaa keessa guyyaa kudha afuraffaa dimimmisa
galgala Faasiikaa haa ayyaaneffatan. Faasiikaa sanas Maxinoo fi baala hadhaa’aa
wajjin haa nyaatan. 12 Isaanis wantoota kanneen keessaa tokko iyyuu hamma
ganamaatti hambisuu yookaan lafee isaa keessaa tokko iyyuu cabsuu hin qaban.
Isaan yommuu Faasiikaa ayyaaneffatanitti dambiiwwan hunda duukaa bu’uu qabu.
13 Garuu namni qulqulluu ta’ee karaa hin deemin yoo Faasiikaa ayyaaneffachuu
baate inni sababii yeroo murtaa’etti aarsaa WAAQAYYOO hin dhi’eessiniif saba isaa
keessaa haa balleeffamu. Namichi sun gatii cubbuu isaa ni argata.

14 “ ‘Alagaan isin gidduu jiraatu kan Faasiikaa WAAQAYYOO ayyaaneffachuu fedhu
tokko akkuma seeraa fi dambii Faasiikaatti haa ayyaaneffatu. Isinis alagaa fi dhalataa
biyyaatiif seeruma tokkicha qabaadhaa.’ ”

### *Duumessa Dunkaana Qulqulluudhaan Olii*

15 Gaafa dunkaanni qulqulluun dhaabame sana duumessi dunkaana sana jechuunis
dunkaana dhuga ba’umsaa haguuge. Duumessi dunkaana qulqulluudhaan olii
sunis galgalaa hamma ganamaatti ibidda fakkaata ture. 16 Wanni kunis yeroo
hunda akkanuma ture; guyyaa duumessi isa haguuga ture; halkan immoo du-
umessi sun ibidda fakkaata ture. 17 Yeroo duumessi sun dunkaana irraa ka’u
Israa’eloonni ka’anii deemu turan; lafa duumessi bu’u immoo Israa’eloonni ni
qubatu. 18 Israa’eloonni ajaja WAAQAYYOOTIIN ka’anii deemu; ajajuma isaatiinis
qubatu. Yeroo duumessi dunkaana qulqulluun ol jiru isaanis qubata keessa turan.
19 Yoo duumessi sun guyyaa hedduu dunkaana gubbaa tures Israa’eloonni seera
WAAQAYYOOTIIF waan ajajamaniif iddoo sanaa ka’anii hin deeman ture. 20 Yeroo tokko
tokko duumessi sun guyyaa xinnaadhaaf dunkaana qulqulluu gubbaa oolee bula ture;
isaanis ajaja WAAQAYYOOTIIN qubatu; ajajuma isaatiinis ka’anii deemu. 21 Yeroo tokko
tokko duumessi sun galgalaa hamma ganamaatti jiraata ture; yommuu duumessi
ganamaan ka’u isaanis ka’anii deemu. Guyyaas ta’u halkan, yeroo duumessi ka’u
isaanis ka’anii deemu. 22 Yeroo duumessi sun guyyaa lamas ta’u ji’a tokko yookaan
waggaa tokko dunkaana qulqulluu irra turutti Israa’eloonni qubatuma keessa turu
malee ka’anii hin deeman ture; yeroo duumessichi ka’utti garuu ka’anii deemu.
23 Isaan ajaja WAAQAYYOOTIIN qubatu; ajajuma WAAQAYYOOTIINIS ka’anii deemu.
Akkuma ajaja WAAQAYYO karaa Museetiin kenne sanaattis seera isaatiif ajajamu.

# 10

### *Malakatawwan Meetii*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe: 2 “Meetii tumame irraa malakata lama
tolfadhuutii hawaasa walitti waamuu fi akka qubanni ka’ee deemu gochuuf itti
fayyadami. 3 Yeroo malakanni lamaan afuufamanitti hawaasni hundi balbala
dunkaana wal ga’iitti fuula kee duratti walitti haa qabamu. 4 Yoo malakanni tokko
qofti afuufame garuu hooggantoonni jechuunis abbootiin gosoota Israa’el fuula kee
duratti walitti haa qabaman. 5 Yeroo malakanni afuufamutti gosoonni gama ba’a bi-
iftuutiin qubatan ka’anii haa deeman. 6 Yeroo malakanni si’a lammaffaa afuufamutti
immoo gosoonni gama kibbaatiin qubatan ka’anii haa deeman. Malakanni afuufamu
sun mallattoo isaan ittiin qubata keessaa ba’anii dha. 7 Hawaasa walitti qabuudhaaf
malakata afuufi; garuu mallattoo wal fakkaatuun hin afuufin.

8 “Ilmaan Aroon luboonni malakatawwan sana haa afuufan. Kunis isinii fi dhaloota
dhufuuf seera bara baraa haa ta’u. 9 Isin yommuu biyya keessan keessatti diina isin
cunqursu tokkotti duuluuf baatanitti malakatawwan sana afuufaa. Yoos Waaqayyo
Waaqni keessan isin yaadatee diina keessan jalaa isin baasa. 10 Akkasumas guyyaa
gammachuu keessanii jechuunis gaafa ayyaana beekamaa fi Ayyaana Baatii Haaraatti
aarsaa keessan kan gubamuu fi aarsaa keessan kan nagaa irratti malakatawwan
afuufaa; wanni kunis fuula Waaqa keessanii duratti yaadannoo isiniif ta’a. Ani
Waaqayyo Waaqa keessan.”

### *Israa’eloonni Siinaadhaa Ba’an*

11 Ji’a lammaffaa waggaa lammaffaa keessa guyyaa digdammaffaatti duumessi sun
dunkaana dhuga Ba’umsaa irraa ka’e. 12 Israa’eloonnis Gammoojjii Siinaatii ka’anii
hamma duumessi sun Gammoojjii Phaaraanii keessa qubatutti iddoo tokko irraa
gara iddoo biraatti deeman. 13 Isaan yeroo jalqabaa kanatti ajaja Waaqayyo karaa
Museetiin kenneen ka’anii deeman.
14 Kutaan qubata ijoollee Yihuudaa faajjii isaanii jalaan jalqabatti deeman.
Nahishoon ilmi Amiinaadaab ajajaa isaanii ture. 15 Naatnaa’el ilmi Zuuwaar ajajaa
kutaa gosa Yisaakor ture; 16 Eliiyaab ilmi Heeloon ajajaa kutaa gosa Zebuuloon
ture. 17 Dunkaanni qulqulluun sunis achii buqqifame; akkasiin Geershoononnii fi
Meraaronni warri dunkaana baatan ka’anii deeman.
18 Kutaan qubata Ruubeenis faajjii isaanii jalaan itti aananii deeman. Eliizuur ilmi
Shedee’uur ajajaa isaanii ture. 19 Shilumii’eel ilmi Zuriishadaayi ajajaa kutaa gosa
Simi’oon ture; 20 Eliyaasaaf ilmi De’uu’eel ajajaa kutaa gosa Gaad ture. 21 Ergasii
Qohaatonni mi’a qulqulluu baatanii ka’anii deeman. Dunkaanni qulqulluun sun
immoo utuu isaan achi hin ga’in dhaabamee ture.
22 Kutaan qubata Efreemis faajjii isaanii jalaan itti aananii deeman. Eliishaamaan
ilmi Amiihuud ajajaa isaanii ture. 23 Gamaali’eel ilmi Phedaasuur ajajaa kutaa gosa
Minaasee ture; 24 Abiidaan ilmi Gaadeyoon ajajaa kutaa gosa Beniyaam ture.
25 Dhuma irratti kutaan qubata Daan eegduu karaa duubaa kan kutaawwan hundaa
ta’anii faajjii isaanii jalaan ka’anii deeman. Ahii’ezer ilmi Amiishadaay ajajaa isaanii
ture. 26 Fagi’eel ilmi Okraan ajajaa kutaa gosa Aasheer ture; 27 Ahiiraan ilmi Eenaan
ajajaa kutaa gosa Niftaalem ture. 28 Egaa kutaawwan saba Israa’el yommuu ka’anii
deemanitti tartiiba kanaan socho’an.
29 Ergasii Museen Hoobaab ilma Re’uu’eel, namicha Midiyaan abbaa niitii Musee
sanaan akkana jedhe; “Nu biyya Waaqayyo, ‘Ani isinii kenna’ nuun jedhe sana
dhaquuf deemaa jirra. Nu waan gaarii siif goonaatii kottuu nu wajjin deemi;
Waaqayyo waan gaarii Israa’elootaaf kakateeraatii.”
30 Inni immoo, “Lakki ani hin deemuu; ani biyyuma kootti gara saba kootti nan
deebi’a” jedhee deebise.
31 Museen garuu akkana jedheen; “Maaloo nu dhiistee hin deemin. Ati gammoojjii
keessatti iddoo nu qubannu ni beekta; ijas nuu ta’uu dandeessa. 32 Yoo ati nu wajjin
deemte nu waan gaarii Waaqayyo nuu kennu si wajjin qoodanna.”
33 Isaan tulluu Waaqayyoo irraa ka’anii guyyaa sadii deeman. Taabonni kakuu
Waaqayyoos iddoo isaan boqotan isaaniif barbaaduuf jedhee guyyaa sadanuu isaan
dura deeme. 34 Duumessi Waaqayyoo sun yeroo isaan qubata keessaa ba’an guyyaa
guyyaa isaan irra ture.
35 Yeroo taabonni sun ka’ee deemu Museen akkana jedha ture;
“Yaa Waaqayyo, ka’i!
Diinonni kee haa bittinneeffaman;
warri si jibbanis fuula kee duraa haa baqatan.”
36 Yeroo inni boqochuuf dhufu akkana jedha ture;

“Yaa WAAQAYYO,
gara kumaatama Israa’el hedduutti deebi’i.”

# 11

### *Ibidda WAAQAYYO Biraa Gad Bu’e*

1 Sabni sun utuma WAAQAYYO isa dhaga’uu waa’ee rakkina isaa guungume; innis
yommuu waan kana dhaga’etti ni aare. Kana irratti ibiddi WAAQAYYOO isaan
gidduutti boba’ee qarqara qubata isaanii gube. 2 Sabni Museetti iyye; Museen immoo
WAAQAYYOON kadhatee ibiddi sun dhaame. 3 Sababii ibiddi WAAQAYYO biraa gad bu’ee
gidduu isaaniitti boba’eef, iddoon sun “Tabeeraa”* jedhamee waamame.

### *Dimbiriqqee WAAQAYYO Kenne*

4 Sabni wal makaan isaan wajjin tures nyaata biraa dharra’e; Israa’eloonni ammas
akkana jedhanii boo’uu jalqaban; “Nu utuu foon nyaannu argannee! 5 Nu biyya Gibxi
keessatti qurxummii toluma nyaanne; akkasumas dabaaqula, habaabii, goodarree,
qullubbii diimaa fi qullubbii adii nyaanne sana ni yaadanna. 6 Amma garuu fedhiin
nyaataa nurraa badeera; mannaa kana malees waan tokko illee hin arginu!”
7 Mannaan sun akka sanyii dinbilaalaa ta’ee bifti isaa haphee fakkaata ture.
8 Namoonnis mannaa sana nanaanna’anii walitti qabanii dhagaa daakuutti
daakachaa yookaan mooyyeetti tumachaa turan. Isaanis mannaa sana okkoteetti
affeelu yookaan maxinoo isaa tolfatu turan. Innis akka waan zayitii ejersaatiin
qopheeffameetti mi’aawa ture. 9 Galgala yommuu fixeensi qubata irra bu’etti
mannaan sunis gad bu’e.
10 Museen utuu namoonni maatii hundaa balbala dunkaana ofii isaa duratti
boo’anuu dhaga’e. WAAQAYYOS akka malee aare; Museen immoo ni dhiphate. 11 Innis
akkana jedhee WAAQAYYOON gaafate; “Ati maaliif dhiphina kana garbicha keetti fidde?
Ati kan ba’aa saba kanaa hunda narra keesse ani maal balleessee si gaddisiiseeti?
12 Saba kana hunda anatu ulfaa’ee? Anatu isaan da’ee? Ati maaliif akka ani akkuma
guddiftuun daa’ima baattutti gara biyya ati abbootii isaaniitiif kakuudhaan waadaa
galteetti irree kootti baadhee isaan geessuudhaaf na ajajja? 13 Ani saba kana hundaaf
foon eessaan argadha? Isaan, ‘Foon nyaannu nuu kenni!’ jedhanii natti boo’u. 14 Ani
kophaa koo saba kana hunda baachuu hin danda’u; ba’aan kun akka malee natti
ulfaata. 15 Ati yoo akkana na goota ta’e, yoo ani fuula kee duratti fudhatama argadhee
jiraadhe, maaloo ammuma na ajjeesi; akka ani gidiraa natti dhufu argus na hin
godhin.”
16 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; “Maanguddoota Israa’el keessaa nama
torbaatama kanneen hooggantootaa fi qondaaltota sabaa ta’uu isaanii beektu naa
fidi. Akka isaan gara dunkaana wal ga’ii dhufanii si wajjin achi dhadhaabatan godhi.
17 Ani gad bu’ee achitti si wajjin nan dubbadha; Hafuura sirra jiru irraas fuudhee
isaan irra nan kaa’a; isaanis akka ati kophaa kee ba’aa sana hin baanneef ba’aa saba
sanaa si wajjin baatu.
18 “Saba kanaan akkana jedhi: ‘Isin bori foon nyaattuutii of qulqulleessaa
qophaa’aa. WAAQAYYO yeroo isin, “Nu utuu foonuma nyaannu argannee! Yeroo nu
biyya Gibxi keessa jirru nuu wayya ture!” jettanii boossan dhaga’eeraatii. WAAQAYYO
amma foon isinii kenna; isinis ni nyaattu. 19 Isin hamma guyyaa tokkoo, yookaan
lamaa, yookaan shanii, kudhanii, yookaan digdamaa qofa hin nyaattan; 20 garuu
ji’a tokko guutuu hamma funyaaniin isin ba’utti, hamma nuffitanittis nyaattu; isin
WAAQAYYO gidduu keessan jiru sana diddanii, “Nu maaliif biyya Gibxi keessaa
baane?” jettanii fuula isaa duratti boossanii turtaniitii.’ ”

---

* **11:3** 11:3 Tabeeraa Tabeeraa jechuun boba’uu jechuu.

21 Museen garuu akkana jedhe; “Kunoo ani namoota lafoo kuma dhibba ja’a
gidduun jira; ati immoo, ‘Ani foon isaan ji’a guutuu nyaatan kennaaf!’ jetta. 22 Utuma
bushaayee fi karri loonii isaaniif qalamanii iyyuu ga’aa laata? Utuma qurxummiin
galaana keessaa hundi isaanii qabamee iyyuu ga’aa laata?”
23 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Harki WAAQAYYOO gabaabaadhaa? Ati
akka wanni ani siin jedhu siif guutamuu fi akka siif hin guutamne amma ni argita.”
24 Museen dhaqee waan WAAQAYYO jedhe sana sabatti hime. Innis saba sana
keessaa maanguddoota torbaatama walitti qabee akka isaan naannoo dunkaanaa
dhadhaabatan godhe. 25 Ergasiis WAAQAYYO duumessaan gad bu’ee isatti dubbate;
Hafuura isa irra jirus fuudhee maanguddoota torbaatamman sana irra buuse. Isaanis
yeroo Hafuurri sun isaan irra boqotetti raajii dubbatan; ergasii immoo deebi’anii
raajii sana hin dubbanne.
26 Ta’u illee namoonni lama kanneen maqaan isaanii Eldaadii fi Meedaad jedhaman
qubata keessatti hafanii turan. Isaanis maanguddoota sana keessatti galmeeffamanii
turan malee gad ba’anii gara dunkaanaa hin dhaqne ture. Hafuurri immoo isaan
irra illee bu’e; isaanis qubata keessatti raajii dubbatan. 27 Dargaggeessi tokko fiigee
dhaqee, “Eldaadii fi Meedaad raajii dubbachuutti jiru” jedhee Museetti hime.
28 Iyyaasuun ilmi Nuuni kan ijoollummaa ofiitii jalqabee gargaartuu Musee ture
sun ka’ee, “Yaa Musee, yaa gooftaa ko, isaan dhowwi!” jedhee dubbate.
29 Museen garuu akkana jedhee deebise; “Ati anaaf hinaaftaa? Ani utuu sabni
WAAQAYYOO hundinuu raajota ta’anii WAAQAYYOS Hafuura isaa isaan irra kaa’ee nan
hawwa!” 30 Ergasiis Musee fi maanguddoonni Israa’el gara qubataatti deebi’an.
31 Bubbeen tokkos WAAQAYYO biraa ba’ee galaana keessaa dimbiriqqee gara
qubataatti oofe. Bubbeen sunis dimbiriqqee sana naannoo qubata sanaatti gama
hundaan hamma deemsa guyyaa tokkoo fagaatu harcaasee hamma dhundhuma
lamaa oli tuule. 32 Guyyaa sana guutuu fi halkan sana guutuu, guyyaa itti aanu
guutuus sabni sun gad ba’ee dimbiriqqee sana walitti qabate; isaan keessaas namni
homeerii kudhanii gad walitti qabate hin turre. Ergasii dimbiriqqee sana naannoo
qubata sanaa afatan. 33 Garuu utuma foon sun amma illee gidduu ilkaan isaanii
jiruu, utuu hin alanfatin WAAQAYYO isaanitti aaree dha’icha hamaadhaan isaan dha’e.
34 Sababii isaan namoota nyaata biraa dharra’an achitti awwaalaniif maqaan iddoo
sanaa, “Qiibrooti Haataa’abaa”† jedhame.
35 Sabni sunis Qiibrooti Haataa’abaadhaa ka’ee gara Haxerooti dhaqee achi jiraate.

# 12

*Maariyaamii fi Aroon Museedhaan Morman*

1 Miiriyaamii fi Aroon sababii Museen dubartii Itoophiyaa fuudheef isaan mor-
muudhaan dubbachuu jalqaban; inni dubartii Itoophiyaa fuudhee tureetii. 2 Isaanis,
“WAAQAYYO karaa Musee qofaan dubbatee? Inni karaa keenyaanis dubbatee ture
mitii?” jedhan. WAAQAYYOS dubbii kana dhaga’e.
3 Museen namoota lafa irra jiraatan hunda caalaa nama akka malee gad of qabu
ture.
4 WAAQAYYOS yommusuma Museen, Aroonii fi Miiriyaamiin, “Isin sadanuu gara
dunkaana wal ga’iitti gad ba’aa” jedhe. Isaan sadanuus gad ba’an. 5 Ergasii
WAAQAYYO utubaa duumessaa keessaan gad bu’ee balbala dunkaanaa irra dhaabatee
Aroonii fi Miiriyaamin waame. Jarri lachuu isatti dhi’aannaan, 6 inni akkana jedheen;
“Dubbii koo dhaga’aa:
“Yoo raajiin WAAQAYYOO gidduu keessan jiraate,

† **11:34** 11:34 Qiibrooti Haataa’abaa jechuun awwaala dharraatotaa jechuu dha.

ani mul’ata keessa isatti of nan mul’isa;
abjuudhaanis isatti nan dubbadha.
7 Garuu garbichi koo Museen akkana miti;
inni mana koo hunda keessatti amanamaa dha.
8 Ani utuu dhoksaadhaan hin ta’in,
ifaan ifatti isatti nan dubbadha;
inni bifa WAAQAYYOO ni arga.
Yoos isin maaliif
garbicha koo Museedhaan mormuudhaan dubbachuu hin sodaanne ree?”

9 Aariin WAAQAYYOS isaan irratti boba’e; innis isaan dhiisee deeme.

10 Yommuu duumessi sun dunkaana gubbaadhaa ol ka’etti kunoo, Miiriyaam
lamxooftee akkuma cabbii addaattee turte. Aroonis gara isheetti garagalee akka
isheen lamxii qabdu arge; 11 innis Museedhaan akkana jedhe; “Maaloo yaa gooftaa
ko, cubbuu nu gowwummaadhaan hojjenne sana nutti hin lakkaa’in. 12 Akka gatata
foon isaa gariin nyaatamee gadameessa haadha isaa keessaa ba’u tokkoo ishee hin
godhin.”

13 Museen WAAQAYYOTTI boo’ee, “Yaa WAAQAYYO, maaloo ishee fayyisi!” jedhe.

14 WAAQAYYO akkana jedhee Museedhaaf deebii kenne; “Utuu abbaan ishee fuula
isheetti tufee silaa isheen bultii torba salphina keessa turti mitii ree? Isheen bultii
torba qubataan ala haa turtu; ergasii deebitee dhufuu dandeessi.” 15 Miiriyaam bultii
torba qubataan ala turte; sabni sunis hamma isheen deebitutti deemsa itti hin fufne.

16 Ergasii sabni sun Haxerootii ka’ee Gammoojjii Phaaraan keessa qubate.

# 13

*Basaastonni Gara Kana’aanitti Ergaman*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Akka isaan dhaqanii biyya Kana’aan
ishee ani Israa’elootaaf kennuuf jiru sana basaasaniif namoota ergi. Tokkoo tokkoo
abbootii gosaa keessaa hoogganaa tokko ergi.”

3 Museen ajaja WAAQAYYOOTIIN Gammoojjii Phaaraan keessaa isaan erge. Hundi
isaanii hooggantoota Israa’elootaa turan.

4 Maqaan isaanii kanneenii dha:

Gosa Ruubeen keessaa Shamuu’aa ilma Zakuur;
5 gosa Simi’oon keessaa Shaafaaxi ilma Hoorii;
6 gosa Yihuudaa keessaa Kaaleb ilma Yefunee;
7 gosa Yisaakor keessaa Yigi’aal ilma Yoosef;
8 gosa Efreem keessaa Hooshee’aa ilma Nuuni;
9 gosa Beniyaam keessaa Phaaltii ilma Raaphuu;
10 gosa Zebuuloon keessaa Gadii’eel ilma Soodii;
11 gosa Minaasee jechuunis gosa Yoosef keessaa Gadii ilma Suus;
12 gosa Daan keessaa Amii’eel ilma Gemaal;
13 gosa Aasheer keessaa Sexuur ilma Miikaa’el;
14 gosa Niftaalem keessaa Naahibii ilma Wofsii;
15 gosa Gaad keessaa Ge’uu’eel ilma Maakii ti.

16 Egaa maqaawwan kunneen maqaawwan namoota akka isaan biyya sana
basaasaniif jedhee Museen ergee dha. Museenis Hooshee’aa ilma Nuuni
sana, “Iyyaasuu” jedhee moggaase.

17 Museen yommuu akka isaan biyya Kana'aanii basaasaniif isaan ergetti akkana
jedheen; "Karaa Negeeb darbaatii gara biyya gaaraatti ol ba'aa. 18 Biyyi sun maal
akka fakkaattu, namoonni achi jiraatanis jajjaboo yookaan dadhaboo, muraasa
yookaan hedduu ta'uu isaanii ilaalaa. 19 Isaan biyya akkamii keessa jiraatu? Gaarii
yookaan gadhee? Magaalaawwan akkamii keessa jiraatu? Dallaa dhagaa hin qaban
moo da'oo jabaa qabu? 20 Lafti isaa gabbataa dha moo gabbataa miti? Muka qaba
moo hin qabu. Jabaadhaatii ija biyyattii keessaa muraasa fidaa." Waqtiin sun yeroo
iji wayinii kan jalqabaa itti bilchaatu ture.
21 Isaan ol ba'anii Gammoojjii Siin irraa jalqabanii hamma Rehoobitti gara Leeboo
Hamaatitti biyyattii basaasan. 22 Isaanis karaa Negeeb ol ba'anii gara Kebroon lafa
Ahiiman, Sheeshaayii fi Talmaayi ilmaan Anaaq sun jiraataniitti dhufan. Kebroon
kunis utuu Zoo'aan isheen biyya Gibxi sun hin ijaaramin waggaa torbaan dura
ijaaramte. 23 Isaanis yommuu Sulula Eshkool ga'anitti hurbuu ija wayinii tokko kutan.
Wayinii sanas roomaanii fi harbuu wajjin nama lama ta'anii danqaraadhaan baatan.
24 Iddoon sun sababii hurbuu ija wayinii kan warri Israa'el kutan sanaatiif Sulula
Eshkool jedhame. 25 Jarris dhuma bultii afurtamaatti biyya sana basaasanii deebi'an.

### *Gabaasa Basaastonni Fidan*

26 Isaanis gara Qaadesh ishee Gammoojjii Phaaraan keessaa gara Musee fi Aroon,
gara waldaa Israa'el guutuu deebi'anii dhufan. Achittis gabaasa isaaniif dhi'eessan;
ija biyyattiis isaan argisiisan. 27 Isaanis akkana jedhanii Museetti himan: "Nu gara
biyya ati itti nu ergite sanaa dhaqneerra; biyyattiin aannanii fi damma baafti! Iji
ishees kunoo kana. 28 Garuu namoonni achi jiraatan jajjaboo dha; magaalaawwan
ishee dallaa jabaa qabu; gurguddaa dhas. Nu sanyii Anaaq iyyuu achitti argineerra.
29 Amaaleqoonni Negeeb keessa jiraatu; Heetonni, Yebuusonnii fi Amooronni biyya
gaaraa keessa jiraatu; Kana'aanonni immoo galaana biraa fi qarqara Yordaanos
jiraatu."
30 Kaalebis fuula Musee duratti saba cal'isiisee, "Nu dafnee ol baanee biyyattii haa
dhaallu; mo'achuu ni dandeenyaatii" jedhe.
31 Namoonni isa wajjin ol ba'anii turan garuu, "Nu warra sana dha'uu hin
dandeenyu; isaan nurra jajjaboo dha" jedhan. 32 Isaanis waa'ee biyya basaasan sanaa
saba Israa'el gidduutti oduu gadhee tamsaasan. Akkanas jedhan; "Biyyi nu basaasne
sun biyya warra ishee keessa jiraatu iyyuu nyaattuu dha. Namoonni nu achitti argine
hundinuu dhedheeroo dha. 33 Achitti Nefiiliimota argine; ilmaan Anaaq Nefiiliimota
irraa dhufan. Nu ofuma keenyatti iyyuu korophisa fakkaanne; fuula isaanii durattis
akkasuma taane."

# 14

### *Sabni Finciluu Isaa*

1 Halkan sana namoonni waldaa sanaa hundinuu sagalee isaanii ol fudhatanii
boo'an. 2 Israa'eloonni hundinuu Musee fi Aroonitti guunguman; waldaan guutuunis
akkana isaaniin jedhe; "Nu utuu biyyuma Gibxitti dhumnee jiraannee! Yookaan
utuu gammoojjii kana keessatti dhumnee jiraannee! 3 WAAQAYYO maaliif akka nu
goraadeedhaan dhumnuuf jedhee biyya kanatti nu fida? Niitonni keenyaa fi ijoolleen
keenya ni booji'amu. Biyya Gibxitti deebi'uun nuu hin wayyuu?" 4 Isaanis, "Amma
hoogganaa filannee biyya Gibxitti haa deebinu" waliin jedhan.
5 Kana irratti Musee fi Aroon fuula guutummaa yaa'ii Israa'el kanneen achitti
walitti qabamanii duratti addaan lafatti gombifaman. 6 Jarreen biyyattii keessa
deemanii basaasan keessaa Iyyaasuun ilmi Nuuniitii fi Kaaleb ilmi Yefunee uffata
ofii tarsaasanii, 7 guutummaa yaa'ii Israa'elootaatiin akkana jedhan; "Biyyi nu keessa

deemnee basaasne sun akka malee gaarii dha. 8 WAAQAYYO yoo nutti gammade biyya
sanatti nu galchee biyyattii aannanii fi damma baaftu sana nuu kenna. 9 Isin garuu
WAAQAYYOTTI hin fincilinaa. Waan nu isaan lilliqimsinuuf namoota biyya sanaa hin
sodaatinaa. Gaaddisni isaan irraa ka'eera; WAAQAYYO nu wajjin jira. Isaan hin
sodaatinaa."
10 Waldaan guutuun garuu dhagaan isaan tumuudhaaf mari'ate. Ulfinni WAAQAYY-
OOS fuula dunkaana wal ga'ii duratti Israa'eloota hundatti mul'ate. 11 WAAQAYYOS
Museedhaan akkana jedhe; "Sabni kun hamma yoomiitti akkana na tuffata? Utuma
ani mallattoowwan kanneen hunda gidduu isaaniitti hojjedhuu isaan hamma
yoomiitti na amanuu didu? 12 Ani golfaadhaan dha'ee isaan nan balleessa; si'i garuu
saba isaan caalaa guddaa fi jabaa sin godha."
13 Museen WAAQAYYOON akkana jedhe; "Warri Gibxi waa'ee waan kanaa ni dhaga'u!
Ati humna keetiin saba kana gidduu isaaniitii baaftee fiddeertaatii. 14 Isaanis waa'ee
waan kanaa saba biyya sana keessa jiraatutti ni odeessu. Yaa WAAQAYYO, isaan
akka ati saba kana gidduu jirtu dhaga'aniiru; yaa WAAQAYYO isaan akka ati fuuluma
isaaniitti mul'atu, akka duumassi kee isaaniin ol jiruu fi akka ati guyyaa utubaa
duumessaatiin, halkan immoo utubaa ibiddaatiin isaan dura deemtu dhaga'anii jiru.
15 Yoo ati saba kana yeruma tokkotti barbadeessite, saboonni oduu waa'ee keetii
dhaga'an, 16 'WAAQAYYO biyya kakuudhaan waadaa isaaniif gale sanatti saba kana
galchuu hin dandeenye; inni kanumaaf gammoojjii keessatti isaan gogorra'e' jedhu.
17 "Egaa akkuma ati akkana jettee dubbatte sanatti jabinni Gooftaa haa argisiifamu:
18 'WAAQAYYO dafee hin aaru; jaalalli isaa immoo guddaa dha; inni cubbuu fi fincila
namaaf dhiisa. Ta'u illee inni nama yakka hojjetu adabu malee hin dhiisu; inni
hamma dhaloota sadaffaa fi afuraffaatti sababii cubbuu abbootii isaaniitiif jedhee
ijoollee ni adaba.' 19 Akkuma yeroo isaan biyya Gibxii ba'anii jalqabdee hamma
ammaatti dhiifama isaaniif goote sana akkuma jaalala kee guddaa sanaatti cubbuu
saba kanaa dhiisiif."
20 WAAQAYYO akkana jedhee deebiseef; "Ani akkuma ati kadhatte sana isaaniif
dhiiseera. 21 Ta'u illee akkuma ani dhugumaan jiraataa ta'ee fi akkuma ulfinni
WAAQAYYOO dhugumaan lafa hunda guute sana, 22 namoota ulfina koo arganii,
mallattoowwan ani biyya Gibxiitii fi gammoojjii keessatti hojjedhe arganii garuu naa
ajajamuu didanii yeroo kudhan na qoran sana keessaa namni tokko iyyuu, 23 tokkoon
isaanii biyya ani kakuudhaan abbootii isaaniitiif waadaa gale sana hin argan. Namni
na tuffate tokko biyya sana hin argu. 24 Garbicha koo Kaaleb garuu sababii inni
hafuura addaa qabuu fi sababii garaa guutuudhaan na duukaa bu'aa jiruuf, ani
biyya inni dhaqe sanatti isa galcha; sanyiin isaas biyya sana ni dhaala. 25 Sababii
Amaaleqoonnii fi Kana'aanonni Sululoota keessa jiraataniif, isin bor deebi'aatii karaa
Galaana Diimaatiin gammoojjiitti qajeelaa."
26 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe: 27 "Waldaan hamaan kun hamma
yoomiitti natti guunguma? Ani guungummii Israa'eloota guungumtoota sanaa
dhaga'eera. 28 Akkana jedhii isaanitti himi; 'WAAQAYYO akkana jedha; ani jiraataad-
haatii, akkuma isin gurra kootti dubbattan sana anis isinitti godha: 29 Reeffi keessan
jechuunis reeffi warra umuriin isaanii waggaa digdamaa fi digdamaa olii kanneen
lakkoobsa uummataa keessatti lakkaa'amanii natti guunguman hundaa gammoojjii
kana keessatti harca'ee hafa. 30 Kaaleb ilma Yefuneetii fi Iyyaasuu ilma Nuuni malee
tokkoon keessan iyyuu biyya ani keessa isin qubachiisuuf kakadhe sanatti hin galtan.
31 Ani garuu ijoollee keessan warra isin ni booji'amu jettan sana itti nan galcha;
isaanis biyya isin tuffattan sana ni beeku. 32 Isin garuu, reeffi keessan gammoojjuma
kana keessatti harca'a. 33 Ijoolleen keessan waggaa afurtama gammoojjii kana
keessa ni jooru; hamma isin hundi gammoojjii keessatti dhumtanitti isaan sababii

amanamummaa dhabuu keessaniitiif achitti rakkatu. 34 Isin akkuma bultii afurtama
biyya sana basaastan, akkasuma bultiin tokko akka waggaa tokkootti lakkaa'amee
waggaa afurtama cubbuu keessaniif dhiphattu; yeroo sana isin akka ani isiniin
mormu ni beektu.' 35 Ani WAAQAYYO waan kana dubbadheen jira; ani dhugumaan
waan kana waldaa hamaa naan mormuuf walitti gurmaa'e kana guutuutti nan fida.
Isaan gammoojjii kana keessatti dhumu; asumattis ni du'u."
36 Namoonni Museen akka isaan biyyattii basaasaniif erge yommuu achii
deebi'anitti waa'ee biyya sanaa gabaasa hamaa waldaatti gabaasanii akka wal-
daan Museetti guungumu godhan jechuunis 37 namoonni waa'ee biyyattii gabaasa
hamaa gabaasuutti gaafataman sun dha'ichaan fuula WAAQAYYOO duratti dhuman.
38 Namoota biyyattii basaasuu dhaqan keessaa Iyyaasuu ilma Nuunitii fi Kaaleb ilma
Yefunee qofatu du'a oole.
39 Museen waan kana hunda Israa'elootatti himnaan isaan akka malee boo'an.
40 Isaanis guyyaa itti aanu ganamaan fiixee biyya gaaraatti ol ba'anii, "Nu cubbuu
hojjenneerra; nu amma gara lafa WAAQAYYO waadaa nuu gale sanaa dhaqna" jedhan.
41 Museen garuu akkana jedhe; "Isin maaliif ajaja WAAQAYYOO cabsitu? Wanni kun
isiniif hin milkaa'u! 42 Akka diinota keessaniin hin mo'atamneef ol hin ba'inaa;
WAAQAYYO isin wajjin hin jiruutii; 43 Amaaleqoonnii fi Kana'aanonni achitti isinitti
dhufuutii. Sababii isin WAAQAYYO irraa garagaltaniif inni isin wajjin hin jiraatu;
goraadeedhaan barbadeeffamtu."
44 Isaan garuu utuu Musee fi taabonni kakuu WAAQAYYOO qubata keessaa gad
hin ba'in yaaduma isaaniitiin ka'anii fiixee biyya gaaraatti ol ba'an. 45 Yommus
Amaaleqoonnii fi Kana'aanonni gaara sana irra jiraatan gad bu'anii isaan dha'anii
hamma Hormaatti isaan ari'an.

# 15

*Aarsaa Dabalamaa*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Saba Israa'elitti akkana jedhii dubbadhu:
'Yommuu biyya ani akka isin keessa jiraattaniif isiniif kennu sana seentanii 3 aarsaa
ibiddaan dhi'eeffamu kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu, loon keessaa yookaan
bushaayee keessaa fuutanii aarsaa gubamu yookaan qalma wareega addaatiif
yookaan aarsaa fedhii keessanii yookaan aarsaa ayyaana waggaa WAAQAYYOOF
dhi'eessitu, 4 namni aarsaa dhi'eessu sun daakuu bullaa'aa iifii* harka kudhan
keessaa harka tokko kan zayitii iinii† harka afur keessa harka tokkootiin sukku-
umame kennaa midhaanii godhee WAAQAYYOOF haa dhi'eessu. 5 Tokkoo tokkoo
xobbaallaa hoolaa kan aarsaa gubamuuf yookaan qalmaaf dhi'eeffamu wajjinis
daadhii wayinii iinii harka afur keessaa harka tokko dhibaayyuudhaaf qopheessi.
6 " 'Korbeessa hoolaa tokko wajjinis daakuu bullaa'aa iifii harka kudhan keessaa
harka lama kan zayitii iinii harka sadii keessaa harka tokkoon sukkumameen
kennaa midhaanii qopheessi. 7 Daadhii wayinii iinii harka sadii keessaa harka tokko
dhibaayyuu urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu godhii dhi'eessi.
8 " 'Ati yommuu dibicha loonii tokko aarsaa gubamu yookaan qalma wareega
addaatiif yookaan aarsaa nagaatiif WAAQAYYOOF qopheessitutti, 9 dibicha sana wajjin
kennaa midhaanii fidi; kennaan sunis daakuu bullaa'aa iifii harka kudhan keessaa
harka sadii kan zayitii walakkaa iiniitiin sukkuumame haa ta'u. 10 Akkasumas
daadhii wayinii iinii walakkaa dhibaayyuu godhii fidi. Wanni kunis aarsaa ibiddaan
dhi'eeffamu kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu ta'a. 11 Tokkoon tokkoon dibicha
loonii yookaan korbeessa hoolaa, tokkoon tokkoon xobbaallaa hoolaa yookaan
korbeessa re'ee xinnaa haaluma kanaan haa qopheeffaman. 12 Akkuma baay'ina

* **15:4** 15:4 Iifiin tokko kiiloo giraamii 22. † **15:4** 15:4 Iiniin tokko liitirii 4.

waan qopheessitan sanaatti akkuma lakkoobsa isaaniitti, tokkoo tokkoo isaaniitiif
akkanuma godhaa.
13 “ ‘Namni dhalataa biyya sanaa ta’e hundinuu yeroo aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu
kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu fidutti wantoota kanneen haaluma kanaan haa
hojjetu. 14 Dhaloota dhufu keessattis alagaan yookaan namni gidduu keessan jiraatu
yeroo aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu dhi’eessutti
akkuma isin gootan kana haa godhu. 15 Yaa’iin sun isinii fi alagaa isin gidduu jiraatuuf
illee seeruma tokko haa qabaatu; kunis dhaloota dhufuuf seera bara baraa ti. Atii fi
alagaan sun fuula WAAQAYYOO duratti wal qixxee dha. 16 Isiniifis alagaa isin gidduu
jiraatuufis seerrii fi dambiin tokkuma haa ta’u.’ ”
17 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; 18 “Akkana jedhii Israa’elootatti dub-
badhu: ‘Isin yeroo biyya ani itti isin galchu sana seentanii 19 midhaan ishee
nyaattanitti, nyaata sana irraa WAAQAYYOOF kennaa dhi’eessaa. 20 Bukoo keessan
kan jalqabaa irraa maxinoo tokko kennaa dhi’eessaa; isas akka aarsaa oobdii irraa
fuudhameetti dhi’eessaa. 21 Dhaloota dhufu hundumaa keessatti bukoo keessan kan
jalqabaa irraa WAAQAYYOOF kennaa kennuu qabdu.

### *Aarsaa Cubbuu Tasa Hojjetamee*

22 “ ‘Yoo isin utuu hin beekin ajajawwan WAAQAYYO Museetti kenne kanneen
keessaa tokko illee 23 jechuunis yoo isin ajaja WAAQAYYOO kan gaafa WAAQAYYO
ajaja kana kennee jalqabee dhaloota dhufu keessa illee ittuma fufuudhaan karaa
Museetiin isin ajaje kam iyyuu cabsitan, 24 yoo wanti kun dogoggoraan utuu waldaan
hin beekin hojjetamee jiraate waldaan sun hundi dibicha loonii aarsaa gubamu
kan urgaan isaa WAAQAYYOTTI tolu, kennaa midhaaniitii fi dhibaayyuu ajajame
wajjin, aarsaa cubbuutiif immoo korbeessa re’ee haa dhi’eessan. 25 Lubnis waldaa
saba Israa’el hundaaf araara haa buusu; isaanis waan utuu hin beekin cubbuu
hojjetaniif, balleessaa isaaniitiifis waan aarsaa ibiddaan dhi’eeffamuu fi aarsaa
cubbuu WAAQAYYOOF fidaniif dhiifama ni argatu. 26 Sababii sabni hundi balleessaa
dogoggoraan hojjetame sana keessatti hirmaateefis waldaan saba Israa’el hundii fi
alagaawwan isaan gidduu jiraatan dhiifama ni argatu.
27 “ ‘Garuu yoo namni tokko qofti utuu hin beekin cubbuu hojjete inni goromtii
re’ee kan umuriin ishee waggaa tokkoo aarsaa cubbuutiif haa fidu. 28 Lubni sunis
namicha utuu itti hin yaadin cubbuu hojjete sanaaf fuula WAAQAYYOO duratti araara
haa buusu; erga araarri isaaf bu’ee booddee immoo namichi sun dhiifama ni argata.
29 Dhalataa Israa’eliifis ta’u yookaan alagaa isin gidduu jiraatuuf, nama utuu itti hin
yaadin cubbuu hojjete hundaaf seerri tokkuma haa ta’u.
30 “ ‘Garuu dhalataa biyyaas ta’u yookaan alagaan, namni beekaa cubbuu hojjetu
WAAQAYYOON arrabsuu isaa ti; namichi sun saba isaa keessaa haa balleeffamu.
31 Namichi sun sababii dubbii WAAQAYYOO tuffatee fi sababii ajaja isaa cabseef inni
haa balleeffamu; balleessaa isaattis isatu gaafatama.’ ”

### *Namni Sanbata Cabse Tokko Ajjeefame*

32 Yeroo sabni Israa’el gammoojjii keessa turetti, namni tokko utuu guyyaa
Sanbataatiin qoraan walitti qabatuu argame. 33 Warri utuu inni qoraan walitti
qabatuu arganis Museetti, Arooniitii fi waldaa guutuutti isa geessan; 34 sababii wanni
isa godhan hin beekaminiif hidhanii isa tursan. 35 WAAQAYYO Museedhaan, “Namichi
du’uu qaba. Waldaan sun guutuun qubataan alatti dhagaadhaan isa haa tumu” jedhe.
36 Waldaan sun akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti namicha sana qubata keessaa gad
baasee dhagaadhaan tumee ajjeese.

### *Handaara Wayyaa*

37 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; 38 “Akkana jedhii Israa’elootatti dub-
badhu: ‘Dhaloota dhufu hunda keessa qarqara wayyaa keessanii irratti handaara
tolfadhaa; tokkoon tokkoon handaara sanaas fo’aa bifa cuquliisaa haa qabaatu. 39 Isin
handaara kana ilaaltanii ajaja Waaqayyoo hunda yaadattu; kunis akka ajaja kana
eegdanii hawwii garaa keessaniitii fi hawwii ija keessanii duukaa bu’uudhaan hin
sagaagalleef. 40 Yoos isin ajaja koo hunda yaadattanii ni eegdu; Waaqa keessaniifis
qulqulloota ni taatu. 41 Ani Waaqayyo Waaqa keessan kan Waaqa isinii ta’uuf jedhee
biyya Gibxii isin baasee dha. Ani Waaqayyo Waaqa keessan.’ ”

# 16

*Qooraahi, Daataanii fi Aberoon*

1 Qooraahi ilmi Yizihaar, ilmi Qohaati, ilmi Lewwii, gosa Ruubeen keessaa
immoo ilmaan Eliiyaab, Daataanii fi Abiiraam akkasumas Ooni ilmi Phelet ka’anii
2 Museedhaan morman. Isaan wajjinis namoota Israa’el jechuunis hooggantoota
waldaa bebeekamoo kanneen miseensa yaa’ii ta’anii muudamanii turan 250 ga’antu
ture. 3 Isaanis Musee fi Arooniin mormuuf jedhanii tokkummaadhaan walitti
qabamanii dhufanii akkana isaaniin jedhan; “Isin dubbii baay’iftaniirtu! Waldaan
kun guutummaatti tokkoon tokkoon isaanii iyyuu qulqulluu dha; Waaqayyos isaan
wajjin jira. Yoos isin maaliif waldaa Waaqayyoo irratti of tuultu ree?”

4 Museen dubbii kana dhageenyaan addaan lafatti gombifame. 5 Ergasiis Qooraahii
fi warra isa duukaa bu’an hundaan akkana jedhe: “Bori ganama Waaqayyo nama kan
isaa ta’ee fi nama qulqulluu ta’e ni argisiisa; akka namni sun gara isaatti dhi’aatu
illee ni godha. Inni nama filate sana akka inni itti dhi’aatu godha. 6 Qooraahi, atii fi
warri si duukaa bu’an hundi waan kana godhaa: Girgiraawwan fudhadhaatii 7 bori
fuula Waaqayyoo duratti ibiddaa fi ixaana itti naqaa. Namni Waaqayyo filatu inni
nama qulqulluu ta’a. Isin Lewwonni dubbii baay’iftaniirtu!”

8 Museenis Qooraahiidhaan akkana jedhe; “Isin Lewwonni mee dhaga’aa! 9 Waaqni
Israa’el waldaa Israa’el kaan keessaa isin filatee akka isin hojii dunkaana qulqulluu
Waaqayyoo hojjettanii fi akka isin fuula waldaa dura dhaabatanii isaan tajaajiltaniif
jedhee ofitti isin dhi’eessuun isaa isin hin ga’uu? 10 Inni si’ii fi Lewwota si wajjin
jiran hunda ofitti dhi’eesseera; isin garuu lubummaa illee fudhachuu barbaaddan.
11 Kanaafuu atii fi miiltonni kee hundinuu walitti qabamtanii Waaqayyoon mormitan.
Aroon isin itti guungumtan kun eenyuu dha?”

12 Museenis ergasii ilmaan Eliiyaab Daataanii fi Abiiraam waamsise. Isaan garuu
akkana jedhan; “Nu hin dhufnu! 13 Ati gammoojjii keessatti nu fixuuf jettee biyya
aannanii fi damma baasu keessaa nu baasuun kee si hin ga’uu? Amma immoo gooftaa
nutti ta’uu feetaa? 14 Kana malee iyyuu ati biyya aannanii fi damma baasutti nu hin
galchine yookaan dhaala lafa qotiisaatii fi iddoo dhaabaa wayinii nuu hin kennine.
Ati ija namoota kanaa ni baaftaa? Lakkii, nu hin dhufnu!”

15 Museen akka malee aaree Waaqayyoon, “Aarsaa isaanii hin fudhatin. Ani harree
tokko illee isaan irraa hin fudhanne yookaan isaan keessaa nama tokko illee hin
miine” jedhe.

16 Museen Qooraahiidhaan akkana jedhe; “Atii fi miiltonni kee hundinuu akka-
sumas ati, isaanii fi Aroon bori fuula Waaqayyoo duratti argamaa. 17 Tokkoon
tokkoon namaa girgiraa isaa fudhatee, ixaana itti naqatee fuula Waaqayyoo duratti
haa dhi’eessu; girgiraawwan kunneenis walumaa galatti 250 ta’u. Akkasumas atii fi
Aroon girgiraa keessan dhi’eessuu qabdu.” 18 Tokkoon tokkoon namaa girgiraa isaa
fudhatee, ibiddaa fi ixaana itti naqatee Musee fi Aroon wajjin balbala dunkaana wal
ga’ii dura dhaabate. 19 Yeroo Qooraahi isaaniin mormuuf jedhee duukaa buutota isaa

hunda balbala dunkaana wal ga'ii duratti walitti qabetti, ulfinni WAAQAYYOO waldaa
guutuutti mul'ate. [20] WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe; [21] "Akka ani yeruma
tokkoon isaan fixuuf waldaa kana irraa gargar ba'aa."

[22] Musee fi Aroon garuu addaan lafatti gombifamanii akkana jedhanii iyyan; "Yaa
WAAQAYYO Waaqa hafuurota sanyii nama hundaa, ati yoo namni tokko yakke waldaa
guutuutti dheekkamtaa?"

[23] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [24] "Waldaa kanaan, 'Dunkaanota
Qooraahi, kan Daataaniitii fi Abiiraam irraa fagaadhaa' jedhi."

[25] Museenis ka'ee gara Daataanii fi Abiiraam dhaqe; maanguddoonni Israa'elis
isa duukaa bu'an. [26] Innis waldaa sanaan, "Dunkaana namoota hamoo kanneenii
irraa fagaadhaa! Isin akka sababii cubbuu isaanii hundaan hin barbadeeffamneef
waan kan isaanii ta'e kam iyyuu hin tuqinaa" jedhe. [27] Isaan dunkaanota Qooraahi,
kan Daataanii fi kan Abiiraamiis irraa fagaatan. Daataanii fi Abiiraamiis gad
ba'anii niitota, ijoollee fi daa'imman isaanii wajjin balbala dunkaanota isaanii dura
dhadhaabachaa turan.
[28] Ergasii Museen akkana jedhe; "Ani wantoota kanneen hunda akkan hojjedhuuf
WAAQAYYO akka na erge, kunis yaada koo akka hin ta'in isin kanaan ni beektu: [29] Yoo
namoonni kunneen du'uma uumamaan dhufu du'anii fi wanni nama hundatti dhufu
isaanitti dhufe WAAQAYYO na hin ergine. [30] Garuu yoo WAAQAYYO waan guutummaan
guutuutti haaraa ta'e tokko isaanitti fidee lafti afaan bantee waan isaan qaban hunda
wajjin isaan liqimsite, yoo isaanis utuma lubbuun jiranuu boolla bu'an, isin akka
namoonni kunneen WAAQAYYOON tuffatan ni beektan."

[31] Akkuma inni waan kana hunda dubbatee fixateen lafti isaan jalaa baqaqxe;
[32] lafti sunis afaan bantee warra mana isaanii, namoota Qooraahi hundaa fi
qabeenya isaanii hunda wajjin isaan liqimsite. [33] Isaanis waan qaban hunda wajjin
jiraatti boolla bu'an; laftis isaan irratti afaan walitti deebifatte; isaanis akkasiin
waldaa keessaa balleeffaman. [34] Isaan iyyinaan Israa'eloonni naannoo isaanii turan
hundinuu, "Lafti kun nuunis ni liqimsiti!" jedhanii iyyaa baqatan.

[35] Ibiddi WAAQAYYO biraa gad bu'ee namoota 250 kanneen aarsaa ixaanaa
dhi'eessaa turan sana fixe.
[36] WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; [37] "Akka inni girgiraawwan sana lafa
jarri itti gubamanii fuudhee cilee isaanii kan boba'u achi fageessee keessaa bittin-
neessuuf Ele'aazaar ilma Aroon lubichaatti himi; girgiraawwan sun qulqulluudhaatii.
[38] Girgiraawwan kunneenis girgiraawwan namoota lubbuu isaaniitti muruudhaan
cubbuu hojjetanii ti. Girgiraawwan sanas iddoo aarsaatti uffisuudhaaf tumii haphisi;
isaan fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eeffamanii qulqulluu ta'aniiruutii. Isaanis
Israa'elootaaf mallattoo haa ta'an."
[39] Ele'aazaar lubichi girgiraawwan naasii kanneen namoonni gubaman sun
dhi'eessan sana iddoo aarsaatti uffisuudhaaf jedhee walitti qabee tume. [40] Kanas
akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin isa ajajetti hojjete. Kunis akka sanyii Aroon
malee namni tokko iyyuu ixaana aarsuuf fuula WAAQAYYOO duratti hin dhi'aanne,
yoo kanaa achii akka inni akkuma Qooraahiitii fi miiltota isaa sanaa ta'u Israa'eloota
yaadataniif.

[41] Guyyaa itti aanutti waldaan Israa'el hundi, "Isin saba WAAQAYYOO fixxan"
jedhanii Musee fi Aroonitti guunguman.

[42] Garuu yeroo waldaan sun Musee fi Arooniin mormuudhaaf walitti qabamee
gara dunkaana wal ga'ii ilaaletti, kunoo duumessi dunkaana sana haguuge; ulfinni
WAAQAYYOOS ni mul'ate. [43] Musee fi Aroon gara fuuldura dunkaana wal ga'ii dhaqan;
[44] WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; [45] "Akka ani yommusuma isaan balleessuuf,
waldaa kana biraa fagaadhu." Isaanis addaan lafatti gombifaman.

46 Ergasii Museen Arooniin akkana jedhe; “Girgiraa kee fudhadhuutii iddoo
aarsaa irraa ixaana ibidda wajjin itti naqadhuutii araara isaaniif buusuudhaaf gara
waldaatti fiigi. Dheekkamsi WAAQAYYO biraa dhufeera; dha’ichi jalqabeera.” 47 Aroon
akkuma Museen jedhe sana fiigee gidduu waldaa seene. Yeroo kanatti dha’ichi
gidduu waldaatti jalqabee ture. Aroon garuu ixaana dhi’eessee araara isaaniif buuse.
48 Innis warra jiruu fi warra du’e gidduu ijaajje; dha’ichi sunis ni dhaabate. 49 Garuu
namoota sababii Qooraahiitiif dhuman malee namoota 14,700 ga’antu dha’icha
sanaan dhume. 50 Aroon sababii dha’ichi sun dhaabateef gara balbala dunkaana
wal ga’ii gara Museetti deebi’e.

# 17

*Uleen Aroon Late*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Israa’elootatti dubbadhuutii hooggan-
toota gosa abbootii isaanii harkaa ulee tokko tokko, walumaa galatti uleewwan kudha
lama fuudhi. Maqaa tokkoo tokkoo namaas ulee isaa irratti barreessi. 3 Sababii
tokkoo tokkoo hoogganaa gosa abbootiitiif uleen tokko jiraachuu qabuuf maqaa
Aroon ulee Lewwii irratti barreessi. 4 Uleewwan kanneenis dunkaana wal ga’ii
keessa fuula taabota kakuu seeraa dura iddoo ani itti isiniin wal argu sana kaa’i.
5 Uleen nama ani filadhuu ni lata; anis guungummii Israa’eloonni yeroo hunda isinitti
guunguman of irraa nan kuta.”

6 Museen Israa’elootatti dubbate; hooggantoonni isaaniis uleewwan kudha lama
jechuunis hooggantoota tokkoo tokkoo gosa abbootii isaaniitiif ulee tokko tokko isatti
kennan; uleen Aroonis uleewwan sana keessa ture. 7 Museenis uleewwan sana
dunkaana dhuga ba’umsaa keessa fuula WAAQAYYOO dura kaa’e.

8 Guyyaa itti aanutti Museen dunkaana dhuga ba’umsaa seenee uleen Aroon kan
gosa Lewwii iddoo bu’u sun isaa latu qofa utuu hin ta’in hudhee daraaree lawuzii
naqate arge. 9 Museen ulee sana hunda fuula WAAQAYYOO duraa alatti gad baasee
Israa’eloota hundatti fide. Isaanis ilaalanii tokkoon tokkoon namaa ulee ofii isaa
fudhate.

10 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Ulee Aroon fuudhiitii akka inni fin-
ciltootaaf mallattoo ta’uuf fuula taabota kakuu seeraa dura deebisii kaa’i. Kun
akka isaan hin dhumneef natti guungumuu isaanii sana dhaabachiisa.” 11 Museenis
akkuma WAAQAYYO isa ajaje sana godhe.

12 Israa’eloonni Museedhaan akkana jedhan; “Nu ni duuna! Nu badneerra; nu
hundinuu badneerra! 13 Namni dunkaana qulqulluu WAAQAYYOOTTI dhi’aatu kam
iyyuu ni du’a. Nu amma du’uuf jirraa?”

# 18

*Hojii Lubootaatii fi Lewwotaa*

1 WAAQAYYO Arooniin akkana jedhe; “Ati, ilmaan keetii fi maatiin abbaa keetii
si wajjin yakka iddoo qulqulluutti hojjetametti ni gaafatamtu. Yakka lubummaatti
hojjetame si’ii fi ilmaan kee qofatu itti gaafatama. 2 Akka isaan yeroo atii fi
ilmaan kee fuula dunkaana dhuga ba’umsaa duratti tajaajiltanitti sitti dabalamanii
si gargaaraniif obboloota kee warra gosa Lewwii, warra gosa abbaa keetii sana fidi.
3 Isaanis ajaja kee dhaga’uudhaan hojiiwwan dunkaana keessaa hunda haa hojjetan;
garuu mi’a iddoo qulqulluutti yookaan iddoo aarsaatti dhi’aachuu hin qaban. Yoo
akkas ta’e isaanis, atis ni duutu. 4 Isaanis dunkaana wal ga’ii eeguudhaaf isinitti
dabalamuu qabu; hojii dunkaana sanaa hundas haa hojjetan. Namni biraa iddoo isin
jirtanitti dhi’aachuu hin qabu.

5 “Isin akka dheekkamsi ammas Israa’eloota irra hin buuneef eegumsa iddoo
qulqulluutii fi eegumsa iddoo aarsaatti ni gaafatamtu. 6 Ani mataan koo obboloota
keessan Lewwota kennaawwan isinii kennaman godhee saba Israa’el keessaa
filadheera; isaanis akka hojii dunkaana wal ga’ii keessaa hojjetaniif Waaqayyoof
kennamanii jiru. 7 Garuu hojii iddoo aarsaatii fi hojii golgaa keessaa hunda si’ii fi
ilmaan kee qofatu hojjeta. Ani hojii lubummaa kennaa godhee isiniif nan kenna.
Namni biraa kan iddoo qulqulluutti dhi’aatu haa ajjeefamu.”

### *Kennaawwan Lubootaa fi Lewwotaaf Kennaman*

8 Waaqayyo Arooniin akkana jedhe; “Ani mataan koo itti gaafatamaa aarsaawwan
naa dhi’eeffamanii si godheera; ani aarsaawwan qulqulluu Israa’eloonni naaf
dhi’eessan hunda akka isaan bara baraan qoodaa fi ga’ee keessan ta’aniif si’ii
fi ilmaan keetiif kenneera. 9 Kunis aarsaawwan waan hunda caalaa qulqulluu
ta’an kanneen ibiddi hin tuqin keessaa qooda kee ta’a. Kennaawwan isaan
aarsaawwan waan hunda caalaa qulqulluu ta’an godhanii naaf fidan jechuunis
aarsaawwan midhaanii yookaan aarsaawwan cubbuu yookaan aarsaawwan yakkaa
hunda keessaa qoodni sun kan keetii fi kan ilmaan keetii ti. 10 Isas iddoo iddoo hunda
caalaa qulqulluu ta’etti nyaadhu; dhiirri hundi haa nyaatu; innis qulqulluu siif haa
ta’u.
11 “Wanni kunis kanuma kee ti; aarsaan sochoofamu kan kennaa saba Israa’el
hunda irraa addaan baafame kanuma kee ti. Anis waan kana si’ii fi ilmaan keetii fi
intallan kee kanneen si wajjin jiraataniif qooda bara baraa godhee kenneera. Mana
kee keessaa namni akka seeraatti qulqulluu ta’e kam iyyuu waan kana nyaachuu ni
danda’a.
12 “Zayitii ejersaa filatamaa hunda, daadhii wayinii filatamaa hundaa fi waan
galfatan keessaa mataa midhaanii kan isaan Waaqayyoof dhi’eessan siif nan
kenna. 13 Mataan midhaanii kan isaan waan biyyattii irraa argatan hunda keessaa
Waaqayyoof fidan kan kee haa ta’u; mana kee keessaa namni akka seeraatti
qulqulluu ta’e kam iyyuu waan kana nyaachuu ni danda’a.
14 “Israa’el keessatti wanni qulqulleeffamee Waaqayyoof kenname hundinuu kee ti.
15 Wanni gadameessa saaqu kam iyyuu namas ta’u horiin Waaqayyoof dhi’eeffamu
hundi kan kee ti. Ati garuu ilma hangafa, horii qulqulluu hin ta’in keessaa immoo
korma hangafa furuu qabda. 16 Yeroo umuriin isaanii ji’a tokko ta’utti akka saqilii
iddoo qulqulluu kan geeraa digdama ulfaatu sanaatti gatii furii murtaa’e meetii saqilii
shaniin isaan furi.
17 “Garuu sangaa hangafa, hoolaa hangafaa fi re’ee hangafa hin furin; isaan
qulqulluu dha. Dhiiga isaanii iddoo aarsaa irratti facaasi; cooma isaanii immoo
aarsaa ibiddaan dhi’eeffamu kan urgaan isaa Waaqayyotti tolu godhiitii gubi.
18 Akkuma handaraafni aarsaa sochoofamuutii fi tafni mirgaa kan kee ta’e sana
foon isaaniis kan kee ta’a. 19 Ani waan aarsaa qulqulluu Israa’eloonni Waaqayyoof
dhi’eessan irraa addaan baafame hunda siif, ilmaan keetii fi intallan keetiif qooda
bara baraa godhee nan kenna. Innis fuula Waaqayyoo duratti si’ii fi sanyii keetiif
kakuu soogiddaa kan bara baraa ti.”
20 Waaqayyo Arooniin akkana jedhe; “Ati biyya isaanii keessatti dhaala tokko illee
yookaan qooda tokko illee isaan gidduudhaa hin qabaattu; ani saba Israa’el keessatti
qooda keetii fi dhaala kee ti.
21 “Kunoo ani kennaa Israa’el keessa jiru kudhan keessaa tokko hunda waan
isaan tajaajila dunkaana wal ga’ii tajaajilaniif dhaala godhee Lewwotaaf kenneera.
22 Si’achi Israa’eloonni akka cubbuu hin baannee fi akka hin duuneef dunkaana wal
ga’iitti hin dhi’aatin. 23 Kan hojii dunkaana wal ga’ii hojjetuu fi kan itti gaafatama
yakka achitti hojjetamuu fudhatu Lewwotuma. Kunis dhaloota dhufuuf seera bara

baraa ti. Isaan saba Israa'el keessatti dhaala tokko illee hin argatan. 24 Qooda
kanaa ani waan Israa'eloonni kudhan keessaa tokko aarsaa godhanii WAAQAYYOOF
dhi'eessan sana dhaala isaanii godhee Lewwotaaf kenneera. Sababiin ani, 'Isaan saba
Israa'el keessatti dhaala tokko illee hin qabaatan' jedhee waa'ee isaanii dubbadheefis
kanuma."
25 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 26 "Akkana jedhii Lewwotatti dubbadhu:
'Yommuu kennaa harka kudhan keessaa harka tokko kan ani dhaala keessan godhee
isiniif kenne sana Israa'eloota irraa fudhatanitti isin kennaa sana harka kudhan
keessaa harka tokko aarsaa WAAQAYYOO godhaa dhi'eessaa. 27 Aarsaan keessanis
akkuma midhaan oobdii irraa yookaan akkuma cuunfaa iddoo ija wayinii itti
cuunfanii keessaa ba'eetti isiniif herregama. 28 Isinis haaluma kanaan kennaa
harka kudhan keessaa harka tokko kan Israa'eloota irraa argatan hunda keessaa
WAAQAYYOOF aarsaa ni dhi'eessitu; kennaawwan kanneen keessaas waan qooda
WAAQAYYOO ta'e Aroon lubichaaf kennaa. 29 Waan isinii kenname hunda keessaa
kutaa waan hunda caalaa gaarii fi qulqulluu ta'e qooda WAAQAYYOO godhaatii
dhi'eessaa.'
30 "Lewwotaan akkana jedhi: 'Yommuu isin kutaa waan hunda caalaa gaarii
ta'e dhi'eessitanitti kutaan sun akka midhaan oobdii irraa yookaan akka cuunfaa
iddoo ija wayinii itti cuunfan keessaa ba'eetti isinii herregama. 31 Sababii wanni
kun mindaa hojii dunkaana wal ga'ii kan isin hojjettanii ta'eef isinii fi namoonni
mana keessan jiraatan waan hafe sana iddoo barbaadan kamitti iyyuu nyaachuu
dandeessu. 32 Qooda isaa kan waan hunda caalu sana dhi'eessuudhaan isin waan
kana keessatti yakka hin qabaattan; yoos isin aarsaa Israa'elootaa qulqulluu sana
hin xureessitan; hin duutanis.' "

# 19

*Bishaan Ittiin Qulqullaa'an*

1 WAAQAYYO Musee fi Arooniin akkana jedhe: 2 "Seerri WAAQAYYO ajaje kana: Akka
Israa'eloonni goromsa diimtuu hir'ina yookaan hanqina hin qabne kan takkumaa
waanjoon morma ishee hin tuqin tokko siif fidan itti himi. 3 Goromsa sanas Ele'aazaar
lubichatti kennaa; raaddi sunis qubata keessaa gad baafamtee fuula isaa duratti
haa qalamtu. 4 Ele'aazaar lubichi quba isaatiin dhiiga goromsa sanaa irraa xinnoo
fuudhee dunkaana wal ga'ii duratti yeroo torba haa facaasu. 5 Utuma inni ilaaluu
gogaan, foon, dhiignii fi cumaan goromsa sanaa haa gubamu. 6 Lubni sun qoraan
birbirsaa, hiisophii fi kirrii bildiimaa goromsa gubamtu sanatti haa darbatu. 7 Lubni
sun ergasii wayyaa ofii isaa miiccatee dhagna ofii isaa illee bishaaniin dhiqachuu
qaba. Innis qubatatti galuu danda'a; garuu hamma galgalaatti akka seeraatti
xuraa'aa ta'ee tura. 8 Namichi goromsa sana gubus wayyaa isaa miiccatee dhagna
isaa bishaaniin haa dhiqatu; innis hamma galgalaatti xuraa'ee tura.
9 "Namni qulqulluun tokko daaraa goromsa sanaa walitti haree qubata keessaa
baasee iddoo seeraan qulqulluu ta'e tokko haa kaa'u. Daaraa kanas waldaan Israa'el
bishaan ittiin qulqulleessan wajjin itti fayyadamuudhaaf ol kaa'ata; innis cubbuu
irraa qulqulleeffamuuf fayyada. 10 Namni daaraa goromsa sanaa walitti haru sunis
wayyaa ofii isaa miiccachuu qaba; innis akkasuma hamma galgalaatti xuraa'aa ta'a.
Kunis Israa'elootaa fi alagoota gidduu isaanii jiraataniif seera bara baraa ta'a.
11 "Namni reeffa nama kamii iyyuu tuqu bultii torba xuraa'aa ta'a. 12 Inni guyyaa
sadaffaa fi guyyaa torbaffaatti bishaaniin of qulqulleessuu qaba; ergasii qulqulluu
ta'a. Garuu yoo guyyaa sadaffaa fi torbaffaatti of qulqulleessuu baate inni hin
qulqullaa'u. 13 Namni reeffa nama kamii iyyuu tuqee of hin qulqulleessin hundi
dunkaana WAAQAYYOO qulqullicha sana xureessa. Namni sun saba Israa'el keessaa

ni balleeffama. Sababii bishaan ittiin qulqulleessan isatti hin facaafaminiif inni
xuraa’aa dha; xuraa’ummaan isaas isuma irratti hafa.
14 “Yeroo namni tokko dunkaana keessatti du’utti seerri kana: Namni dunkaana
sana seenu hundii fi namni dunkaana keessa jiru hundi bultii torbaaf xuraa’aa ta’a;
15 qodaan afaan banaa kan qadaadni jabeeffamee itti hin qadaadamin hundi xuraa’aa
ta’a.
16 “Namni alatti nama goraadeedhaan ajjeefame yookaan nama ofumaan du’e tuqu
kam iyyuu yookaan namni lafee namaa yookaan awwaala tuqu kam iyyuu bultii
torbaaf xuraa’aa ta’a.
17 “Nama xuraa’aaf aarsaa ittiin qulqulleessuuf gubame sana irraa daaraa xinnaa
isaa fuudhii okkotee tokkotti naqiitii bishaan yaa’u itti dhangalaasi. 18 Ergasiis
namni akka seeraatti qulqulluu ta’e hiisophii xinnaa isaa fuudhee bishaan sana
keessa cuuphee dunkaanaa fi mi’a isaa hundatti, namoota achi turanittis haa
faffacaasu. Akkasumas nama lafee namaa yookaan awwaala yookaan nama
ajjeefame yookaan nama ofumaan du’e tuqetti haa faffacaasu. 19 Namichi qulqulluun
sun guyyaa sadaffaa fi torbaffaatti namicha xuraa’aa sanatti haa faffacaasu; guyyaa
torbaffaatti immoo isa qulqulleessuu qaba. Namichi qulqulleefamu sun wayyaa ofii
isaa miiccachuu, dhagna ofii isaas bishaaniin dhiqachuu qaba; innis galgala sana
qulqulluu ta’a. 20 Garuu namni xuraa’aan yoo of qulqulleessuu baate, inni sababii
iddoo qulqulluu WAAQAYYO xureesseef waldaa keessaa ni balleeffama. Bishaan ittiin
qulqulleessan sun isatti hin facaafamneetii inni xuraa’aa dha. 21 Kun isaaniif seera
bara baraa ti.
“Namichi bishaan ittiin qulqulleessan faffacaasu sun wayyaa ofii isaa haa miiccatu;
namni bishaan ittiin qulqulleessan tuqu hamma galgalaatti xuraa’aa ta’a. 22 Wanni
namni xuraa’aan tokko tuqu kam iyyuu xuraa’aa ta’a; namni waan sana tuqu hamma
galgalaatti xuraa’aa ta’a.”

# 20

*Bishaan Kattaa Keessaa Burqe*

1 Ji’a jalqabaatti waldaan Israa’elootaa guutuun Gammoojjii Siin ga’e; isaanis
Qaadesh keessa turan. Miiriyaamis achitti duutee awwaalamte.
2 Waldaan sun bishaan hin qabu ture; kanaafuu waldaan sun Musee fi Arooniin
mormuuf walitti qabame. 3 Isaanis akkana jedhanii Musee fi Arooniin lolan; “Maaloo
utuu nus gaafuma obboloonni keenya fuula WAAQAYYOO duratti du’an sana duunee
jiraannee! 4 Isin maaliif waldaa WAAQAYYOO gammoojjii kanatti fiddan? Akka nuu
fi horiin keenya asitti dhumnuufii? 5 Maaliif biyya Gibxiitii iddoo hamaa kanatti
gad nu baaftan? Iddoon kun midhaan yookaan harbuu yookaan ija wayinii yookaan
roomaanii hin qabu. Bishaan dhugaatiis hin jiru!”
6 Musee fi Aroon waldaa biraa gara balbala dunkaana wal ga’ii deemanii addaan
lafatti gombifaman; ulfinni WAAQAYYOOS isaanitti mul’ate. 7 WAAQAYYOS Museedhaan
akkana jedhe; 8 “Ulee sana fuudhiitii, atii fi obboleessi kee Aroonis waldaa walitti
qabaa. Fuuluma isaanii durattis kattaa sanatti dubbadhaa; kattaan sunis bishaan
baasa. Atis kattaa sana keessaa waldaadhaaf bishaan baafta; akkasiin isaanii fi horiin
isaanii bishaan dhuguu danda’u.”
9 Kanaafuu Museen akkuma inni isa ajaje sanatti ulee fuula WAAQAYYOO dura jiru
sana fuudhe. 10 Musee fi Aroon kattaa sana duratti waldaa walitti qaban; Museenis
waldaa sanaan, “Finciltoota nana, mee dhaga’aa; nu kattaa kana keessaa bishaan
isinii baasuu qabnaa?” jedhe. 11 Museen harka ol fudhatee ulee isaa sanaan yeroo
lama kattaa sana dha’e. Bishaan achi keessaa lolaanaan waldaa fi horiin isaanii
dhugan.

12 Waaqayyo garuu Musee fi Arooniin akkana jedhe; “Sababii isin fuula Is-
raa’elootaa duratti akka qulqullummaa kootiitti na kabajjanii natti amanuu diddaniif,
isin biyya ani isaanii kenne sanatti waldaa kana hin galchitan.”
13 Kun bishaan Mariibaa, lafa Israa’eloonni itti Waaqayyoon wal dhabanii fi lafa
inni itti akka qulqulluu ta’e gidduu isaaniitti of argisiisee ti.

### *Edoom Israa’elin Karaa Darbuu Dhowwe*

14 Museen akkana jedhee Qaadesh irraa mootii Edoomiitti ergamoota erge:
“Obboleessi kee Israa’el akkana jedha: Ati waa’ee rakkina nutti dhufe hundaa
ni beekta. 15 Abbootiin keenya Gibxitti gad bu’an; nus waggaa hedduu achi
jiraanne. Warri Gibxis nuu fi abbootii keenya cunqursan; 16 garuu nu Waaqayyotti
iyyaannaan, inni nu dhaga’ee ergamaa isaa ergee biyya Gibxii nu baase.
“Nu amma as Qaadeshitti jechuunis magaalaa daarii biyya keetii irra jiru tokko
keessa jirra. 17 Maaloo mee akka biyya kee keessa baanee dabarru nuu eeyyami. Nu
lafa qotiisaa yookaan iddoo dhaabaa wayinii tokko keessa iyyuu hin yaanu yookaan
bishaan boolla bishaanii tokkoo iyyuu si duraa hin dhugnu. Nu karaa mootichaa
irra godaanna malee hamma daarii kee keessaa baanutti bitaa mirgatti hin gorru.”
18 Edoom immoo akkana jedhee deebii kenne:
“Isin asiin darbuu hin dandeessan; yoo darbuu yaaltan immoo nu isinitti kaanee
goraadeedhaan isin dhoofna.”
19 Israa’eloonnis akkana jedhanii deebii kennan:
“Nu karuma guddicha irra yaana; yoo nu yookaan horiin keenya bishaan keessan
kam iyyuu dhuge, nu gatii isiniif kaffalla. Nu miilla qofaan yaanee darbuu feena;
kana malee waan biraa hin feenu.”
20 Isaan amma illee akkana jedhanii deebisan:
“Isin asiin hin dabartan.”
Edoomis loltoota baay’ee fi jajjaboo fudhatee isaanitti gad ba’e. 21 Sababii Edoom
biyya ofii isaa keessaan darbuu isaan dhowweef Israa’eloonni isaan irraa deebi’an.

### *Aroon Du’uu Isaa*

22 Sabni Israa’el hundinuu Qaadeshii ka’ee Tulluu Hoori ga’e. 23 Waaqayyos Tulluu
Hoori cinatti daangaa Edoom biratti Musee fi Arooniin akkana jedhe; 24 “Aroon gara
abbootii isaatti walitti qabama. Sababii isin lachuu bishaan Mariibaa biratti ajaja
kootti finciltaniif, inni biyya ani Israa’elootaaf kennutti hin galu. 25 Aroonii fi ilma
isaa Ele’aazaar fuudhiitii Tulluu Hooritti ol baasi. 26 Aroon irraa uffata isaa baasiitii
ilma isaa Ele’aazaaritti uffisi; Aroon gara abbootii isaatti walitti qabamaatii. Inni
achitti du’a.”
27 Museen akkuma Waaqayyo isa ajaje sana godhe: Isaanis utuma waldaan Israa’el
guutuun ilaaluu Tulluu Hooritti ol ba’an. 28 Museenis uffata Aroon irraa baasee
ilma isaa Ele’aazaaritti uffise. Aroonis achuma tulluu sana gubbaatti du’e. Musee
fi Ele’aazaaris tulluu sana irraa gad bu’an; 29 yommuu waldaan Israa’el hundi akka
Aroon du’e dhaga’etti manni Israa’el guutuun bultii soddoma boo’eef.

## 21

### *Aaraad Barbadoofte*

1 Mootiin Aaraad namichi Kana’aan kan Negeeb keessa jiraatu sun akka Israa’el
karaa Ataariim irra dhufaa jiru dhageenyaan Israa’eloota lolee isaan keessaa
nama tokko tokko booji’e. 2 Israa’eloonnis, “Yoo ati saba kana dabarsitee harka
keenyatti kennite, nu guutumaan guutuutti magaalaa isaanii barbadeessina” jedhanii
Waaqayyoof wareegan. 3 Waaqayyos iyya Israa’el dhaga’ee warra Kana’aan
dabarsee harka isaaniitti kenne. Israa’eloonnis isaanii fi magaalaawwan isaanii

illee guutumaan guutuutti barbadeessan; kanaafuu iddoon sun Hormaa jedhamee waamame.

### *Bofa Naasii Irraa Hojjetame*

4 Isaanis Edoom duubaan darbanii deemuuf jedhanii Gaara Hoorii ka'anii karaa
Galaana Diimaatti geessu irra qajeelan. Sabni sun garuu karumatti obsa fixate;
5 isaanis Waaqaa fi Museedhaan mormanii akkana jechuudhaan dubbatan; "Isin
maaliif akka gammoojjii keessatti dhumnuuf biyya Gibxii nu baaftan? Buddeenni
hin jiru! Bishaan hin jiru! Nus nyaata balfamaa kana jibbineerra!"
6 Waaqayyos bofawwan hadhaa qaban gidduu isaaniitti erge; bofawwan sunis isaan
iddanii Israa'eloonni baay'een dhuman. 7 Sabni sunis gara Musee dhufee akkana
jedhe; "Nu yeroo Waaqayyoo fi sitti afaan dabarre sana cubbuu hojjenne. Akka
Waaqayyo bofawwan kanneen nurraa fageessuuf nuuf kadhadhu." Museen saba
sanaaf kadhate.
8 Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe; "Bofa tokko tolchiitii utubaatti fannisi;
namni bofni idde kam iyyuu bofa ati tolchite sana ilaalee jiraachuu danda'a."
9 Museen bofa naasii tokko tolchee utubaatti fannise. Ergasiis namni bofti idde kam
iyyuu yeroo bofa naasii sana ilaalu ni jiraata ture.

### *Israa'eloonni Biyya Mo'aabitti Qajeelan*

10 Israa'eloonni fuula duratti qajeelanii Oobooti keessa qubatan. 11 Ergasiis Oobootii
ka'anii Iyyee Abaariim lafa karaa ba'a biiftuutiin fuullee Mo'aabitti gammoojjii
keessatti argamu qubatan. 12 Achiis ka'anii Sulula Zered keessa qubatan. 13 Achii
ka'aniis daarii Arnoon lafa gammoojjii keessaa kan bulchiinsa Amoorotaa keessa
seentu sana irra qubatan. Arnoon lafa daarii Mo'aab irraa kan Mo'aabii fi Amoor
gidduu jirtuu dha. 14 Sababiin Kitaabni Waraana Waaqayyoo akkana jedhuuf kana:

"Waaheb Suufaa keessaa fi lageen,
  Arnoonii fi 15 irraan-gadee sululaa
kan gara Aaritti geessuu fi
  daarii Mo'aab irratti argamu."

16 Achii ka'anii gara Bi'eer boolla bishaanii kan Waaqayyo Museedhaan, "Saba walitti
qabi; ani bishaan kennaafii" jedhe sanaa karaa isaanii itti fufan.
17 Israa'elis faarfannaa kana faarfate:

"Yaa boolla bishaanii nana, burqi!
  Isinis waa'ee isaa faarfadhaa;
18 Boolla bishaanii ilmaan mootii qotan,
  kan kabajamoonni sabaa,
  qajeelcha warra seera kennuutiin ulee isaaniitiin qotan faarfadhaa."

Isaan ergasii gammoojjii sana keessaa ba'anii Mataanaa dhaqan; 19 Mataanaadhaa
ka'anii Nahaali'eel dhaqan; Nahaali'eelii ka'anii Baamooti dhaqan; 20 Baamootii
immoo ka'anii sulula Mo'aab, iddoo itti fiixeen Phisgaa gammoojjiitti garagaltu
qubatan.

### *Mo'atamuu Sihooniitii fi Oogi*

21 Israa'elis Sihoon mooticha Amoorotaatiin akkana jechuuf ergamoota ergate:
22 "Akka nu biyya kee keessaan darbinu nuuf eeyyami. Nu lafa qotiisaa yookaan
iddoo dhaabaa wayinii tokkotti iyyuu hin gorru yookaan bishaan boolla bishaanii
tokkoo illee hin dhugnu. Nu hamma biyya kee keessaa baanutti karaa mootichaa
irra yaana."
23 Sihoon garuu akka Israa'el biyya isaa keessa ba'ee darbu hin eeyyamne. Innis
loltoota ofii guutuu walitti qabatee Israa'elin loluuf gammoojjiitti gad ba'e. Yommuu
Yaahazi ga'ettis Israa'eliin wal lole. 24 Israa'el garuu goraadeedhaan isa ajjeesee

Arnoonii jalqabee hamma Yaaboq ga'utti biyya isaa qabate; garuu sababii dallaan
daangaa Amoorotaa jabaa tureef inni hamma daangaa Amoonotaa qofatti deemuu
danda'e. 25 Israa'elis magaalaawwan Amoorotaa hunda, Heshboonii fi qubatawwan
naannoo ishee jiran hunda qabatee keessa qubate. 26 Heshboon kun magaalaa Sihoon
mootii Amoorotaa isa mooticha Mo'aab kan duraa lolee biyya isaa hunda hamma
Arnoonitti irraa fudhate sanaa ture.
27 Sababiin weellistoonni akkana jedhaniif kana:

"Gara Heshboon kottaa; isheen deebitee haa ijaaramtu;
Magaalaan Sihoonis haa haaromfamtu.

28 "Heshboon keessaa ibiddi,
magaalaa Sihoon keessaa arrabni ibiddaa ba'e.
Ibiddi sun Aari magaalaa Mo'aab,
jiraattota gaara Arnooniis gubee barbadeesse.
29 Yaa Mo'aab, siif wayyoo!
Yaa warra Kemoosh, isin barbadooftaniirtu!
Inni ilmaan isaa akka baqattootaatti,
intallan isaa immoo akka booji'amtootaatti,
Sihoon mootii Amoorotaatti dabarsee kenneera.

30 "Nu garuu isaan garagalchineerra;
Heshboon hamma Diiboonitti barbadoofteerti.
Nus hamma Noofaa ishee gara Meedebaatti diriirtu sanaatti
isaan barbadeessineerra."

31 Akkasiin Israa'el biyya Amoor keessa qubate.

32 Museen Ya'izeeritti basaastota erge; isaanis qubatawwan naannoo ishee qa-
batanii Amoorota achi keessa jiraachaa turan ari'anii baasan. 33 Isaanis ergasii
deebi'anii karaa Baashaan qabatanii ol ba'an; Oogi mootichi Baashaaniitii fi loltoonni
isaa guutuun Edreyiitti isaaniin wal loluuf itti gad ba'an.

34 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Sababii ani guutuu loltoota isaatii fi biyya
isaa illee dabarsee harka keetti kenneef isa hin sodaatin. Waanuma Sihoon mootiin
Amoorotaa kan Heshboon bulchaa ture sana goote isa illee godhi."

35 Isaan isa, ilmaan isaatii fi loltoota isaa hunda utuu nama tokko illee hin
hambisiniif dha'anii biyya isaa illee irraa fudhatan.

# 22

### *Baalaaq Bala'aamin Waame*

1 Israa'eloonni gara dirree Mo'aabitti qajeelanii Yerikoon gama qarqara Yordaanos
qubatan.

2 Baalaaq ilmi Ziphoori waan Israa'el Amoorotatti hojjete hunda arge; 3 Mo'aabis
waan sabni sun akka malee baay'ee ta'eef ni sodaate. Mo'aabis sababii Is-
raa'elootaatiif raafame.

4 Warri Mo'aabis maanguddoota Midiyaaniin, "Namoonni baay'een kunneen
akkuma qotiyyoon marga bakkee dheedee fixu sana waan naannoo keenya jiru
dheedee fixa" jedhan.

Kana irratti Baalaaq ilmi Ziphoori kan yeroo sana mootii Mo'aab ture sun, 5 akka
isaan Bala'aam ilma Be'oor kan biyyuma itti dhalate keessa laga Efraaxiis bira
Phetoori keessa jiraachaa ture sana waamaniif ergamoota erge. Baalaaqis akkana
jedhe:

"Kunoo, sabni tokko biyya Gibxii ba'ee dhufeera; kunoo isaan lafa guutanii
natti aananii qubataniiru. 6 Sababii isaan na caalaa humna qabaniif amma

kottuutii isaan abaari. Yoos ani isaan mo’adhee biyya keessaa ari’ee isaan baasuu nan danda’a ta’a. Ani akka warri ati eebbiftu eebbifaman, warri ati abaartus abaaraman nan beekaatii.”

7 Maanguddoonni Mo’aabii fi Midiyaan sun ka’anii kaffaltii mortuu sanaa fud-
hatanii deeman. Isaanis yommuu Bala’aam bira ga’anitti waan Baalaaq jedheen sana itti himan.

8 Bala’aamis, “Halkan kana asuma bulaa; anis deebii WAAQAYYO naaf kennu isinitti nan hima” jedheen. Qondaaltonni Mo’aab sun isuma bira turan.

9 Waaqni gara Bala’aam dhufee, “Namoonni si wajjin jiran kunneen eenyu?” jedhee gaafate.

10 Bala’aamis akkana jedhee Waaqaaf deebii kenne; “Baalaaq ilmi Ziphoori,
mootichi Mo’aab akkana jedhee ergaa kana natti erge:
11 ‘Kunoo, sabni biyya Gibxii ba’ee dhufe tokko lafa guuteera; ati amma kottuutii isaan naaf abaari. Yoos ani isaan lolee ari’ee biyyaa baasuu nan danda’a ta’aatii.’ ”

12 Waaqayyo garuu Bala’aamiin, “Isaan wajjin hin deemin. Sababii isaan eebbifamoo ta’aniif ati saba sana hin abaarin” jedhe.

13 Bala’aam ganama itti aanu ka’ee qondaaltota Baalaaqiin, “Sababii WAAQAYYO isin wajjin deemuu na dhowweef, isin amma ka’aa biyya keessanitti deebi’aa” jedhe.

14 Qondaaltonni Mo’aab gara Baalaaqitti deebi’anii, “Bala’aam nu wajjin dhufuu dide” jedhaniin.

15 Baalaaqis qondaaltota warra duraa sana caalaa baay’ee fi caalaa bebeekamoo
kan biraa erge.
16 Isaanis dhufanii Bala’aamiin akkana jedhan:

“Wanni Baalaaq ilmi Ziphoori jedhu kunoo kana: ‘Maaloo wanni tokko iyyuu
gara koo dhufuu si hin dhowwin;
17 ani ulfina guddaa siif nan kennaatii; waan ati jettu hundas nan guuta. Kottuu saba kana naa abaari.’ ”

18 Bala’aam garuu akkana jedhee deebiseef; “Utuu Baalaaq masaraa isaa kan meetii fi warqeen guutame sana naaf kenne illee, ani ajaja WAAQAYYO Waaqa kootiin alatti
waan xinnaa yookaan guddaa tokko illee hojjechuu hin danda’u.
19 Akka ani waan WAAQAYYO natti himu kan biraa beekuu danda’uuf isinis akkuma warra kaanii as bulaa.”

20 Halkan sana Waaqayyo gara Bala’aam dhufee, “Sababii namoonni kunneen si waamuu dhufaniif, isaan wajjin deemi; garuu waanuma ani sitti himu qofa hojjedhu” jedheen.

### *Harree Bala’aam*

21 Bala’aam ganamaan ka’ee harree isaa irra kooraa kaa’atee qondaaltota Mo’aab
sana wajjin deeme.
22 Waaqni garuu inni deemnaan itti aare; ergamaan WAAQAYYOO tokkos isaan mormuuf jedhee karaa irra dhaabate. Bala’aamis harree isaa yaabbatee
deemaa ture; tajaajiltoonni isaa lamaan isa wajjin turan.
23 Harreen sun immoo ergamaa WAAQAYYOO kan goraadee luqqifatee harkatti qabatee karaa irra dhaabatu arginaan of irra gara galtee karaa irraa gortee lafa qotiisaa seente. Bala’aamis karaatti ishee deebisuudhaaf harree sana rukute.

24 Ergamaan WAAQAYYOO sun garuu daandii dhiphoo, iddoo dhaabaa wayinii lama
kanneen gama lamaan dallaa qaban gidduu baatu irra dhaabate.
25 Harreen sun ergamaa WAAQAYYOO arginaan, dallaatti maxxantee miilla Bala’aam dallaatti buufte. Inni ammas harree sana rukute.

26 Ergamaan WAAQAYYOOS fuula duratti hiiqee daandii dhiphaa iddoo ittiin mirgatti
yookaan bitaatti goran hin qabne tokko irra dhaabate.
27 Harreen sun ergamaa WAAQAYYOO arginaan Bala’aam jalaa gad ciifte; innis aaree ulee ofiitiin harree sana
rukute.
28 Kana irratti WAAQAYYO afaan harree sanaa banee harreen sun Bala’aamiin, “Ani maal si yakkinaan ati akkas yeroo sadii na rukutte?” jette.

29 Bala’aamis harree sanaan, “Ati na gowwoomsite; ani utuu goraadee of harkaa
qabaadhee silaa ammuman si ajjeesa” jedhe.
30 Harreen sun amma illee Bala’aamiin akkana jette; “Ani harree kee kan ati
hamma har’aatti guyyaa hunda yaabbattu mitii? Ani takkumaa waan akkasii sitti
hojjedhee beekaa?”
Innis, “Lakkii” jedhee deebiseef.
31 Yommus WAAQAYYO ija Bala’aam bane; Bala’aamis ergamaa WAAQAYYOO kan
goraadee luqqifatee karaa irra dhaabatu arge. Kana irratti inni addaan lafatti
gombifamee sagade.
32 Ergamaan WAAQAYYOO sun akkana jedhee isa gaafate; “Ati maaliif yeroo sadan
kana harree kee rukutte? Kunoo ani waan karaan kee fuula koo duratti jal’aa ta’eef
siin mormuudhaafan dhufe. 33 Harreen kun na argitee yeroo kana sadanuu narraa
gorte. Utuu isheen narraa goruu baattee silaa ani yoona si ajjeesee ishee immoo
hambisa ture.”
34 Bala’aamis ergamaa WAAQAYYOOTIIN, “Ani cubbuu hojjedheera. Ani akka ati naan
mormuuf jettee karaa irra dhaabatte hin hubanne. Ammas yoo sitti hin tolin ani nan
deebi’a” jedhe.
35 Ergamaan WAAQAYYOO sunis Bala’aamiin, “Namoota kana wajjin deemi; garuu
waanuma ani sitti himu qofa dubbadhu” jedhe. Akkasiin Bala’aam qondaaltota
Baalaaq sana wajjin deeme.
36 Baalaaqis akka Bala’aam dhufaa jiru dhageenyaan, magaalaa Mo’aab kan daarii
Arnoon irratti argamtutti isa simachuudhaaf ka’ee deeme. 37 Baalaaqis Bala’aamiin
akkana jedhe; “Ani dhaamsa ariifachiisaa sitti hin erginee? Ati maaliif na bira hin
dhufne? Ani dhugumaan ulfina siif kennuu hin danda’uu?”
38 Bala’aamis, “Kunoo ani si bira dhufeera. Garuu ani waanuman arge dubbachuu
nan danda’aa? Ani waanuma Waaqni afaan koo keessa kaa’u qofan dubbachuu
qaba” jedhee deebise.
39 Bala’aamis ka’ee Baalaaq wajjin Qiiriyaati Haxoti dhaqe. 40 Baalaaq loonii fi
hoolaa aarsaa dhi’eessee gara tokko Bala’aamii fi qondaaltota isa wajjin turaniif
kenne. 41 Ganama itti aanus Baalaaq, Bala’aamin Baamooti Ba’aalitti ol baase; innis
achi dhaabatee saba Israa’el warra daangaa gamaa irra jiran arge.

# 23

*Ergaa Bala’aam Kan Jalqabaa*

1 Bala’aamis Baalaaqiin, “Iddoo aarsaa torba asitti naaf ijaari; amma illee korommii
loonii torbaa fi korbeeyyii hoolaa torba naa qopheessi” jedhe. 2 Baalaaqis akkuma
Bala’aam jedhe sana godhe; isaan lamaan tokkoo tokkoo iddoo aarsaa irratti korma
looniitii fi korbeessa hoolaa tokko tokko aarsaa dhi’eessan.
3 Ergasii Bala’aam Baalaaqiin akkana jedhe; “Ani xinnoo achi sirraa nan siqa; ati
immoo asuma aarsaa kee bira turi. Tarii WAAQAYYO anaa wajjin wal arguuf ni dhufa
ta’a. Waan inni natti mul’isu kam iyyuu ani sittin hima.” Innis gara gaara tokkoo
dhaqe.
4 Waaqayyo isaan wal arginaan Bala’aam, “Ani iddoo aarsaa torba qopheessee
tokkoo tokkoo isaa irratti korma loonii tokkoo fi korbeessa hoolaa tokko
qopheesseera” jedhe.
5 WAAQAYYO ergaa tokko afaan Bala’aam keessa kaa’ee, “Baalaaqitti deebi’iitii ergaa
kana itti himi” jedheen.
6 Bala’aam Baalaaqitti deebi’ee isaa qondaaltota Mo’aab wajjin aarsaa isaa bira
dhaabatu arge. 7 Bala’aam ergaa isaa akkana jedhee dubbate:
“Baalaaq Arraam irraa,

mootichi Mo’aab gaarran ba’aa irraa na fide.
Innis, ‘Kottuutii Yaaqoobin naa abaari;
kottuutii Israa’elin naa balaaleffadhu’ jedhe.
8 Ani akkamittan warra Waaqni hin abaarin
abaaruu danda’a?
Ani akkamittan warra WAAQAYYO hin balaaleffatin
balaaleffachuu danda’a?
9 Fiixee gaarranii irraa ani isa nan arga;
tulluuwwan irraas isa nan ilaala.
Saba kophaa isaa jiraatu,
kan saba kaan keessatti of hin lakkoofne nan arga.
10 Eenyutu awwaara Yaaqoob lakkaa’uu danda’a?
Eenyutu Israa’el keessaa kurmaana isaa illee lakkaa’a?
Ani du’a nama qajeelaa haa du’u;
dhumni koos akkuma dhuma isaa haa ta’u!”
11 Baalaaqis Bala’aamiin, “Wanni ati na goote kun maali? Ani akka ati diina koo
naa abaartuufin si fide; ati kunoo isaan eebbifte malee waan tokko iyyuu isaan hin
goone!” jedhe.
12 Innis, “Ani waan WAAQAYYO afaan koo keessa kaa’u hin dubbadhuu?” jedhee
deebii kenneef.

### *Ergaa Bala’aam Kan Lammaffaa*

13 Baalaaq, “Mee gara lafa itti isaan arguu dandeessu biraa na wajjin kottu; ati gara
tokko qofa malee hunduma isaanii arguu hin dandeessu. Achiis isaan naa abaari”
jedheen. 14 Inni gara dirree Xoofiim kan fiixee Phisgaa irratti argamuutti isa geesse;
achittis iddoo aarsaa torba ijaaree tokkoo tokkoo iddoo aarsaa sanaa irratti korma
loonii tokkoo fi korbeessa hoolaa tokko aarsaa dhi’eesse.
15 Bala’aamis Baalaaqiin, “Ati hamma ani achi siqee Waaqa wajjin wal argutti
asuma aarsaa kee bira turi” jedhe.
16 WAAQAYYO Bala’aam wajjin wal argee ergaa tokko afaan isaa keessa kaa’ee,
“Baalaaqitti deebi’iitii ergaa kana itti himi” jedheen.
17 Bala’aam Baalaaq bira dhaqee isaa qondaaltota Mo’aab wajjin aarsaa isaa bira
dhaabatu arge. Baalaaqis, “WAAQAYYO maal jedhe?” jedhee Bala’aamiin gaafate.
18 Bala’aam akkana jedhee ergaa isaa dubbate:
“Yaa Baalaaq, ka’iitii dhaggeeffadhu;
yaa ilma Ziphoori na dhaga’i.
19 Waaqni nama miti; inni hin sobu;
yookaan gaabbuudhaaf inni ilma namaa miti.
Inni waa dubbatee ergasii hin hojjetuu?
Inni waa abdachiisee ergasii hin raawwatuu?
20 Kunoo ani eebbisuudhaaf ajaja argadheera;
inni eebbiseera; anis geeddaruu hin danda’u.

21 “Inni Yaaqoob keessatti daba hin argine;
rakkina tokko illee Israa’el keessatti hin argine.
WAAQAYYO Waaqni isaanii isaan wajjin jira;
ililleen Mootii isaan wajjin jira.
22 Waaqayyo biyya Gibxiitii isaan baase;
inni jabina akka jabina gafarsaa qaba.
23 Yaaqoob irratti falfalli tokko iyyuu hin hojjetu;
Israa’el irrattis tolchi tokko iyyuu hin hojjetu.
Amma Yaaqoobii fi Israa’eliin,

‘Waan Waaqni hojjete ilaalaa!’ jedhama.
24 Kunoo sabni sun akka leenca dhalaatti ka’a;
akkuma leencaattis ol jedha;
inni hamma waan adamsate nyaatee fixutti,
hamma dhiiga waan ajjeefate sanaa dhuguttis hin ciisu.”
25 Baalaaq Bala’aamiin, “Ati gonkumaa isaan hin abaarin yookaan isaan hin eebbisin” jedhe.
26 Bala’aamis, “Ani akka waan WAAQAYYO jedhu kam iyyuu hojjedhu sitti hin himnee?” jedhee Baalaaqiif deebise.

### *Ergaa Bala’aam Kan Sadaffaa*

27 Ergasii Baalaaq Bala’aamiin, “Mee kottu amma illee ani iddoo biraa sin geessaa.
Tarii achii jara naaf abaaruun kee Waaqa gammachiisa ta’aatii” jedhe. 28 Baalaaqis
Bala’aamin fiixee tulluu Phe’oor kan irra dhaabatanii gammoojjii sana gad ilaalanitti
ol baase.
29 Bala’aamis Baalaaqiin, “Iddoo aarsaa torba asitti naaf ijaari; ammas korommii
loonii torbaa fi korbeeyyii hoolaa torba naaf qopheessi” jedhe. 30 Baalaaqis akkuma
Bala’aam jedheen sana godhe; tokkoo tokkoo iddoo aarsaa irrattis korma loonii
tokkoo fi korbeessa hoolaa tokko aarsaa dhi’eesse.

## 24

1 Bala’aam yeroo akka Israa’elin eebbisuun WAAQAYYOON gammachiise argetti akka
yeroo kaanii falfala barbaacha hin dhaqne; garuu fuula isaa gara gammoojjiitti
deebifate. 2 Yommuu Bala’aam ol mil’atee akka Israa’el gosa gosaan qubate argetti
Hafuurri Waaqaa isa irra bu’e; 3 innis akkana jedhee ergaa isaa dubbate:
“Ergaa Bala’aam ilma Be’oor,
ergaa nama iji isaa sirriitti arguu,
4 ergaa nama dubbii Waaqaa dhaga’uu
isa Waaqa Waan Hunda Danda’u irraa mul’ata argu
kan kufee iji isaa banamu sanaa:

5 “Yaa Yaaqoob, dunkaanonni kee,
Yaa Israa’el, iddoon ati jiraattu akkam miidhaga!

6 “Isaan akkuma sulula diriiraa,
akkuma iddoo biqiltuu kan afaan lagaa,
akkuma argeessa WAAQAYYO dhaabee,
akkuma birbirsaa qarqara bishaanii ti.
7 Okolee isaa keessaa bishaantu lola’a;
sanyiin isaa bishaan baay’ee argata.

“Mootiin isaa Agaag caala;
mootummaan isaa ni kabajama.

8 “Waaqayyo Gibxii isa baase;
inni jabina akka jabina gafarsaa qaba.
Inni saba diinota isaa ta’e nyaata;
lafee isaanii ni caccabsa;
xiyya ofii isaatiin isaan waraana.
9 Inni akkuma leencaa ciiseera;
akkuma leenca dhalaas ciiseera; eenyutu isa dammaqsa?

"Warri si eebbisan haa eebbifaman;
warri si abaaranis haa abaaraman!"
10 Baalaaq Bala'aamitti aare. Innis harka ofii isaa walitti rurrukutee Bala'aamiin
akkana jedhe; "Ani akka ati diina koo abaartuufan si waammadhe; ati kunoo yeroo
sadan kana isaan eebbifte. 11 Amma dafii asii deemii mana keetti gali! Ani ulfina
guddaa siif nan kenna jedheen ture; amma garuu WAAQAYYO akka ati ulfina hin
arganne si godheera."
12 Bala'aamis Baalaaqiin akkana jedhe; "Ani ergamoota ati natti ergite sanatti
akkana jedheen hime mitii? 13 'Utuu Baalaaq masaraa meetii fi warqeen guutame
sana naaf kennee iyyuu, ani waanuma WAAQAYYO jedhe qofan dubbadha malee ajaja
WAAQAYYOOTIIN alatti waan yaada koo gaarii yookaan hamaa tokko iyyuu hojjechuu
hin danda'u.' 14 Kunoo ani amma saba kootti nan deebi'a; garuu mee kottu ani waan
sabni kun bara dhufu keessa saba keetiif godhu sin beeksisaa."

### *Ergaa Bala'aam Kan Afuraffaa*

15 Inni akkana jedhee ergaa isaa dubbate:
Ergaa Bala'aam ilma Be'oor,
ergaa nama iji isaa sirriitti arguu,
16 ergaa nama dubbii Waaqaa dhaga'uu
kan beekumsa Waaqa Waan Hundaa Olii qabu
kan Waaqa Waan Hunda Danda'u irraa mul'ata argu
kan kufee diriiruu, iji isaas kan banamu sanaa:

17 "Ani isa nan arga; garuu amma miti;
ani isa nan ilaala; garuu dhi'ootti miti.
Yaaqoob keessaa urjiin tokko ni ba'a;
Israa'el keessaa bokkuun tokko ol ka'a.
Inni adda warra Mo'aab,
buqqee mataa ilmaan Seet hundaas ni caccabsa.
18 Edoom ni mo'atama;
See'iir, diinni isaa ni mo'atama;
Israa'el garuu jabaachaa deema.
19 Yaaqoob keessaa bulchaan tokko ni ka'a;
warra magaalaa sana keessatti lubbuudhaan hafanis ni barbadeessa."

### *Ergaa Bala'aam Kan Dhumaa*

20 Ergasiis Bala'aam Amaaleqin argee akkana jedhee ergaa ofii isa dubbate:
"Amaaleq saboota keessaa kan jalqabaa ture;
dhumni isaa garuu barbadaa'uu dha."
21 Ergasii Qeenota argee akkana jedhee ergaa ofii isaa itti dubbate:
"Iddoon ati jiraattu jabaa dha;
manni kees kattaa keessatti ijaarame;
22 ta'us isin warri Qeenotaa,
gaafa Asoor isin booji'u ni baddu."
23 Innis akkana jedhee ergaa isaa itti dubbate:
"Wayyoo! Yeroo Waaqayyo waan kana hojjetu
eenyutu jiraachuu danda'a?
24 Dooniiwwan qarqara Kitiim irraa ni dhufu;
isaanis Asoorii fi Eeberin ni qabatu;
garuu isaanis ni barbadeeffamu."
25 Ergasii Bala'aam ka'ee mana ofii isaatti deebi'e; Baalaaq immoo karaa ofii isaa
qajeele.

# 25

*Mo'aab Israa'elin Gowwoomse*

1 Israa'eloonni yeroo Shixiim keessa turanitti dhiironni isaanii dubartoota Mo'aab
wajjin sagaagaluu jalqaban. 2 Dubartoonni kunneenis gara qalma waaqota isaaniitti
saba sana afeerraan, sabni sun qalma sana nyaatee waaqota sanaaf sagade. 3 Israa'el
Ba'aal Phe'oor duukaa bu'e. Dheekkamsi WAAQAYYOOS isaanitti boba'e.
4 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; "Akka dheekkamsi WAAQAYYOO jabaan
sun saba Israa'el irraa deebi'uuf, hangafoota saba sanaa hunda fuudhiitii guyyaa
adiidhaan fuula WAAQAYYOO duratti isaan fannisi."
5 Museen abbootii murtii Israa'eliin, "Tokkoon tokkoon keessan namoota keessan
kanneen Ba'aal Phe'oor duukaa bu'an fixaa" jedhe.
6 Kunoo namichi Israa'el tokko utuma isaan balbala dunkaana wal ga'ii duratti
boo'aa jiranuu fuula Museetii fi fuula waldaa Israa'el guutuu duratti dubartii
Midiyaan tokko gara maatii ofii isaatti fidate. 7 Fiinehaas ilmi Ele'aazaar ilma
Aroon lubichaa waan kana arginaan waldaa sana keessaa ba'ee eeboo harkatti
qabatee 8 namicha Israa'el sana duukaa bu'ee dunkaana seene; namicha Israa'elii
fi dubartittiis walitti waraanee dhagna isheetti fullaase. Akkasiin dha'ichi Israa'elitti
dhufe sun ni dhowwame. 9 Garuu baay'inni namoota dha'icha sanaan dhumanii
24,000 ga'ee ture.
10 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe; 11 "Fiinehaas ilmi Ele'aazaar ilma Aroon
lubicha sanaa dheekkamsa koo Israa'eloota irraa deebiseera; inni akka ani hinaaffaa
kootiin isaan hin balleessineef, akkuma ani ulfina kootiif isaan gidduutti hinaafu sana
innis hinaafeeraatii. 12 Kanaafuu kunoo akka ani kakuu koo kan nagaa isa wajjin
godhadhu itti naaf himi. 13 Sababii inni ulfina Waaqa isaatiif hinaafee Israa'elootaaf
araara buuseef, innii fi sanyiin isaa kakuu lubummaa kan bara baraa qabaatu."
14 Maqaan namicha Israa'el kan dubartii Midiyaan wajjin ajjeefame sanaa Zimrii
ilma Saaluu ti; innis hoogganaa maatii Simi'oon. 15 Maqaan dubartii Midiyaan kan
ajjeefamte sanaa Kozbii intala Zuuri hangafa maatii Midiyaan tokkoo ti.
16 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 17 "Midiyaanota akka diinaatti ilaaliitii
ajjeesi; 18 kunis waan isaan sababii Phe'ooriitii fi obboleettii isaanii Kozbii intala
hoogganaa warra Midiyaan, dubartii guyyaa sababii Phe'ooriitiin dha'ichi dhufe sana
ajjeefamte sanaa irratti isin gowwoomsan sana akka diinaatti isin ilaalaniif."

# 26

*Sabni Yeroo Lammaffaa Lakkaa'ame*

1 Dha'icha sana booddee WAAQAYYO Musee fi Ele'aazaar ilma Aroon lubichaatiin
akkana jedhe; 2 "Waldaa saba Israa'el warra umuriin isaanii waggaa digdamaa fi
hammasii ol ta'e kanneen loltoota Israa'el keessa tajaajiluu danda'an hunda maatii
maatiidhaan lakkaa'aa." 3 Musee fi Ele'aazaar lubichi dirreewwan Mo'aab irratti,
Yordaanos biratti, Yerikoo gamatti akkana jedhanii isaan wajjin dubbatan; 4 "Akkuma
WAAQAYYO Musee ajajetti namoota umuriin isaanii waggaa digdamaatii fi hammasii
olii lakkaa'aa."

Jarri kunneen Israa'eloota biyya Gibxiitii ba'anii dha:

5 Ilmaan Ruubeen ilma Israa'el hangaftichaa:
karaa Henookiitiin, balbala Hanookotaa;
karaa Faluutiin, balbala Faluuwotaa;
6 karaa Hezrooniitiin, balbala Asroonotaa;
karaa Karmiitiin, balbala Karmootaa.

7 Jarri kunneen balbalawwan Ruubeen; baay'inni isaaniis 43,730 ture.
8 Ilmi Faluus Eliiyaab; 9 ilmaan Eliiyaabis Nemuu'eel, Daataanii fi Aberoon.
Daataanii fi Abiiraam kunneen qondaaltota waldaa kanneen Musee fi Aroonitti
fincilanii dha; isaan yeroo Qooraahii fi duukaa buutonni isaa WAAQAYYOTTI
fincilan sanas achi keessa turan. 10 Laftis afaan banattee Qooraahii fi isaan
illee liqimsite; warri garee Qooraahi immoo yeroo ibiddii namoota 250 fixe
sana dhuman. Isaanis mallattoo namoonni ittiin of eeggatan ta'an. 11 Ilmaan
Qooraahi garuu hin duune.

12 Ilmaan Simi'oon akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Nemuu'eel, balbala Nemuu'eelotaa;
karaa Yaamiin, balbala Yaamiinotaa;
karaa Yaakiin, balbala Yaakiinotaa;
13 karaa Zeraan, balbala Zerootaa;
karaa Shaawul, balbala Shaawulootaa ti.
14 Jarri kunneen balbalawwan Simi'oonii ti; isaanis namoota 22,200 turan.

15 Ilmaan Gaad akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Zefoon, balbala Zefoonotaa;
karaa Hagii, balbala Hagootaa;
karaa Shuunii, balbala Shuunotaa;
16 karaa Oznii, balbala Oznootaa;
karaa Eerii, balbala Eerotaa;
17 karaa Arood, balbala Aroodotaa;
karaa Ari'eel, balbala Ari'eelotaa ti.
18 Jarri kunneen balbalawwan Gaadii ti; baay'inni isaaniis 40,500 ture.

19 Eerii fi Oonaan ilmaan Yihuudaa ti; isaan garuu Kana'aan keessatti du'an.
20 Ilmaan Yihuudaa akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Sheelaa, balbala Sheelaanotaa;
karaa Faares, balbala Faaresotaa;
karaa Zaaraa, balbala Zaarotaa ti.
21 Ilmaan Faaresis kanneenii dha:
karaa Hezroon, balbala Hezroonotaa;
karaa Hamuul, balbala Hamuulotaa ti.
22 Jarri kunneen balbalawwan Yihuudaa ti; baay'inni isaaniis 76,500 ture.

23 Ilmaan Yisaakor akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Toolaa, balbala Toolotaa;
karaa Fuwaa, balbala Fuuwotaa;
24 karaa Yaashuub, balbala Yaashuubotaa;
karaa Shimroon, balbala Shimroonotaa ti.
25 Jarri kunneen balbalawwan Yisaakor; baay'inni isaaniis 64,300 ture.

26 Ilmaan Zebuuloon akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Sered, balbala Seredootaa;
karaa Eeloon, balbala Eeloonotaa;
karaa Yahili'eel, balbala Yahili'eelotaa ti.
27 Jarri kunneen balbalawwan Zebuuloon; baay'inni isaaniis 60,500 ture.

28 Ilmaan Yoosef akkuma balbala balbala isaaniitti: Minaasee fi Efreem.
29 Ilmaan Minaasee:
karaa Maakiir, balbala Maakiirotaa; Maakiir kun abbaa Gili'aad;

karaa Gili'aad, balbala Gili'aadotaa ti.
30 Ilmaan Gili'aad isaan kanneenii dha:
karaa Ii'ezer, balbala Ii'ezerootaa;
karaa Heleq, balbala Heleqootaa;
31 karaa Asri'eel, balbala Asrii'eelotaa,
karaa Sheekem, balbala Sheekemotaa;
32 karaa Shemiidaa, balbala Shemiidaa;
karaa Heefer, balbala Heeferotaa ti.
33 Zelofehaad ilmi Heefer ilmaan hin qabu ture; inni intallan qofa qaba ture; maqaan isaaniis Mahilaa, Nohii, Hoglaa, Miilkaa fi Tiirzaa dha.
34 Jarri kunneen balbalawwan Minaasee ti; baay'inni isaaniis 52,700 ture.
35 Ilmaan Efreem akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Shuutelaa, balbala Shuutelootaa;
karaa Beker, balbala Bekerotaa;
karaa Taahan, balbala Taahanotaa ti.
36 Ilmaan Shuutelaa isaan kanneenii dha:
karaa Eeraan, balbala Eeraanotaa ti.
37 Jarri kunneen balbalawwan Efreem; baay'inni isaaniis 32,500 ture.
Isaan kunneen ilmaan Yoosef warra akkuma balbala balbala isaaniitti lakkaa'amanii dha.

38 Ilmaan Beniyaam akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Belaa, balbala Belaa'otaa;
karaa Ashbeel, balbala Asbeelotaa;
karaa Ahiiraam, balbala Ahiiraamotaa;
39 karaa Shefuufaami, balbala Shefuufaamotaa;
karaa Huufaam, balbala Huufaamotaa ti.
40 Ilmaan Belaa, karaa Ardii fi Na'amaan:
karaa Ardii, balbala Ardootaa;
karaa Na'amaan, balbala Na'amaanotaa ti.
41 Jarri kunneen balbalawwan Beniyaam; baay'inni isaaniis 45,600 ture.

42 Ilmaan Daan akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Shuuhaam, balbala Shuuhaamotaa ti.
Jarri kunneen balbalawwan Daan:
43 Isaan hundinuu balbalawwan Shuuhaamotaa ti; baay'inni isaaniis 64,400 ture.

44 Ilmaan Aasheer akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Yimnaa, balbala Yuumnootaa;
karaa Yishwii, balbala Yishwiiyotaa;
karaa Beriiyaa, balbala Beriiyootaa;
45 karaa ilmaan Beriiyaa immoo:
karaa Hebeer, balbala Hebeerotaa;
karaa Malkii'eel, balbala Malkii'eelotaa ti.
46 Aasheer intala Seraa jedhamtu tokko qaba ture.
47 Jarri kunneen balbalawwan Aasheer; baay'inni isaaniis 53,400 ture.

48 Ilmaan Niftaalem akkuma balbala balbala isaaniitti kanneenii dha:
karaa Yahizeel, balbala Yahizeelotaa,
karaa Guunii, balbala Guunotaa;
49 karaa Yeexer, balbala Yeexirotaa;
karaa Shiileem, balbala Shiileemotaa ti.
50 Jarri kunneen balbalawwan Niftaalem; baay'inni isaaniis 45,400 ture.

51 Walumaa galatti baay'inni dhiira Israa'el 601,730 ture.

52 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 53 "Biyyi sun akkuma baay'ina maqaa
namaatti dhaala ta'ee isaan kanneeniif haa qoodamu. 54 Balbala guddaadhaaf dhaala
guddaa, balbala xinnaadhaaf immoo dhaala xinnaa kenni; tokkoon tokkoon balbalaa
akkuma baay'ina namoota galmeeffamaniitti dhaala isaa haa argatu. 55 Garuu biyyi
sun ixaadhaan haa qoqoodamtu. Isaanis akkuma maqaawwan gosoota abbootii
isaaniitti ni dhaalu. 56 Tokkoon tokkoon dhaala sanaa garee guddaa fi garee xinnaa
gidduutti ixaadhaan haa qoodamu."

57 Lewwonni balbala balbalaan lakkaa'aman kanneenii dha:
karaa Geershoon, balbala Geershoonotaa;
karaa Qohaati, balbala Qohaatotaa;
karaa Meraarii, balbala Meraarotaa ti.
58 Jarri kunneenis balbalawwan Lewwotaa ti:
balbala Liibnotaa,
balbala Kebroonotaa,
balbala Mahelootaa,
balbala Muusotaa,
balbala Qooraahotaa.
Qohaati abbaa Amraam; 59 maqaan niitii Amraam Yookebeed. Isheen intala
Lewwii kan biyya Gibxitti Lewwiif dhalattee dha. Amraamiifis Aroon, Musee
fi obboleettii isaanii Miiriyaam deesse. 60 Aroon abbaa Naadaab, Abiihuu,
Ele'aazaarii fi Iitaamaar. 61 Naadaabii fi Abiihuu garuu yeroo ibidda hin
eeyyamamin fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eessan sana du'an.

62 Dhiironni umuriin isaanii ji'a tokkoo fi hammasii ol ta'e kanneen lakkaa'aman hundi 23,000 turan. Isaanis sababii gidduu isaaniitti dhaala hin argatiniif Israa'eloota kaan wajjin hin lakkaa'amne.

63 Isaan kunneen warra yeroo Musee fi Ele'aazaar lubichi dirreewwan Mo'aab
irratti, Yordaanos biratti, Yerikoo gamatti Israa'eloota lakkaa'an sana lakkaa'amanii
dha. 64 Namoota karaa Museetii fi Aroon lubichaan Gammoojjii Siinaa keessatti
lakkaa'aman keessaa namni tokko iyyuu isaan gidduu hin turre. 65 Sababii WAAQAYYO
waa'ee isaanii, "Isaan Gammoojjii keessatti ni dhumu" jedhee dubbatee tureef,
Kaaleb ilma Yefunee fi Iyyaasuu ilma Nuuni malee isaan keessaa namni tokko iyyuu
hin hafne.

# 27

### *Intallan Salapha'aad*
### *27:1-11 kwf – Lak 36:1-12*

1 Balbala Minaasee ilma Yoosef keessaas intallan Zelofehaad ilma Heefer, ilma
Gili'aad, ilma Maakiirii fi ilma Minaaseetu dhi'aate. Maqaan intallan sanaas Mahilaa,
Nohii, Hoglaa, Miilkaa fi Tiirzaa dha. 2 Isaanis balbala dunkaana wal ga'ii dura,
fuula Musee fi Ele'aazaar lubichaa dura, fuula hooggantootaatii fi waldaa hundaa
dura dhaabatanii akkana jedhan; 3 "Abbaan keenya Gammoojjii keessatti du'e. Inni
hooggantoota Qooraahi kanneen WAAQAYYOTTI fincilan sana keessa hin turre. Garuu
inni cubbudhuma ofii isaatiin du'e. Ilmaanis hin qabu ture. 4 Maaliif maqaan abbaa
keenyaa sababii inni ilma hin qabneef balbala isaa keessaa bada? Firoota abbaa
keenyaa gidduutti dhaala nuu kenni."

5 Museen dubbii isaanii sana fuula WAAQAYYOO duratti dhi’eesse; 6 WAAQAYYOS
akkana jedheen; 7 “Wanni intallan Zelofehaad jedhan kun sirrii dha. Atis firoota
abbaa isaanii gidduutti dhaala kenniif; dhaala abbaa isaaniis isaaniif dabarsi.
8 “Israa’elootaan akkana jedhi; ‘Yoo namni utuu ilma hin dhalchin du’e, dhaala isaa
intala isaatiif dabarsaa. 9 Yoo inni intalas qabaachuu baate dhaala isaa obboloota
isaatiif kennaa. 10 Yoo inni obboloota qabaachuu baate dhaala isaa obboloota abbaa
isaatiif kennaa. 11 Yoo abbaan isaa obboloota qabaachuu baate immoo dhaala isaa
balbala isaa keessaa fira aanteef kennaa; firri sun haa dhaalu. Kunis akkuma
WAAQAYYO Musee ajaje sanatti saba Israa’eliif sirna seera qabeessa haa ta’u.’ ”

### *Iyyaasuun Iddoo Musee Bu’uu Isaa*

12 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Tulluu Abaariim kanatti ol ba’iitii
biyya ani saba Israa’eliif kenne ilaali. 13 Erga biyya sana argitee booddee atis
akkuma obboleessa kee Aroon gara saba keetiitti walitti qabamta; 14 yeroo waldaan
Gammoojjii Siin keessatti natti finciletti isin lachanuus ajaja kootti finciltanii
turtaniitii. Isin bishaanota sana biratti fuula isaanii duratti qulqullina koo hin
mul’ifne.” Bishaanonni kunneenis bishaanota Mariibaa Qaadesh kan Gammoojjii
Siin keessa jiranii dha.
15 Museenis WAAQAYYOON akkana jedhe; 16 “WAAQAYYO Waaqni hafuurota nama
hundaa waldaa kana irratti nama tokko haa muudu; 17 namichi kunis akka sabni
WAAQAYYOO akkuma hoolota tiksee hin qabnee hin taaneef kan isaan dura gad ba’uu
fi ol galu, kan gad isaan baasuu fi ol isaan galchuu dha.”
18 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; “Iyyaasuu ilma Nuuni, namicha hafuurri
keessa jiru sana fuudhii harka kee isa irra kaa’i. 19 Akka inni fuula Ele’aazaar
lubichaatii fi fuula waldaa Israa’el hundaa dura dhaabatu godhi; fuuluma isaanii
durattis isa muudi. 20 Akka sabni Israa’el hundi isaaf ajajamuuf aangoo kee irraa
kenniif. 21 Innis fuula Ele’aazaar lubichaa kan fuula WAAQAYYOO duratti Uriimiidhaan
gaafatee murtii isaaf kennuu dura dhaabachuu qaba. Innii fi waldaan Israa’elootaa
hundi ajaja isaatiin ba’u; ajajuma isaatiinis galu.”
22 Museen akkuma WAAQAYYO isa ajaje sana godhe. Innis Iyyaasuu geessee akka
inni fuula Ele’aazaar lubichaatii fi fuula waldaa Israa’el hundaa dura dhaabatu
godhe. 23 Ergasiis akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin ajaje sana harka ofii isaa isa
irra kaa’ee isa muude.

## 28

### *Aarsaa Guyyuma Guyyaan Dhi’eeffamu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 “Ajaja kana Israa’elootaaf kenni; akkanas
jedhiin: ‘Aarsaa nyaataa kan ibiddaan anaaf dhi’eeffamu kan fooliin isaa natti tolu
sana yeroo murtaa’etti naa dhi’eessuu keessan mirkaneeffadhaa.’ 3 Akkana isaaniin
jedhi; ‘Aarsaan isin ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eessitan isa kana: xobbaallaawwan
hoolaa lama kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokkootii fi kanneen hir’ina
hin qabne aarsaa gubamu kan yeroo hunda guyyuma guyyaan dhi’eeffamu godhaa
dhi’eessaa. 4 Xobbaallaa hoolaa tokko ganama, kaan immoo galgala dhi’eessi. 5 Kana
wajjinis kennaa midhaanii kan daakuu bullaa’aa iifii* tokko irraa harka kudhan
keessaa harki tokko zayitii ejersaa kan cuunfamee iinii† tokko harka afur keessaa
harka tokkoon sukkuumame dhi’eessi. 6 Kunis aarsaa yeroo hunda gubamu kan
fooliin isaa toluu fi kan ibiddaan WAAQAYYOOF dhi’eeffamu kan Tulluu Siinaa irratti
ajajamee dha. 7 Dhibaayyuun tokkoo tokkoo xobbaallaa hoolaa wajjin dhi’eeffamus
dhugaatii cimaa iinii tokko irraa harka afur keessaa harka tokko haa ta’u; dhibaayyuu

* **28:5** 28:5 Iifiin tokko kiiloo giraamii 22. † **28:5** 28:5 Iiniin tokko liitirii 3.8.

sanas iddoo qulqulluu keessatti WAAQAYYOOF dhangalaasi. 8 Xobbaallaa hoolaa kaan
immoo akkuma kennaa midhaaniitii fi kan dhibaayyuu wajjin ganama dhi'eessite
sanaa galgalas dhi'eessi. Kunis aarsaa ibiddaan dhi'eeffamu kan fooliin isaa
WAAQAYYOTTI toluu dha.

### *Aarsaa Guyyaa Sanbataa*

9 " 'Guyyaa Sanbataa xobbaallaawwan hoolaa lama kanneen umuriin isaanii
waggaa tokko ta'ee fi hir'ina hin qabne aarsaa dhibaayyuutii fi kennaa midhaanii
akkasumas kennaa midhaanii kan daakuu bullaa'aa iifii tokko irraa harka kudhan
keessaa harki lama zayitiidhaan sukkuumame wajjin dhi'eessi. 10 Kunis aarsaa
gubamu kan aarsaa yeroo hunda gubamuu fi dhibaayyuu isaatti dabalamee Sanbata
Sanbataan dhi'eeffamuu dha.

### *Aarsaa Ji'a Ji'aan Dhi'eeffamu*

11 " 'Jalqaba ji'oota keessanii hundatti jiboota loonii lama, korbeessa hoolaa
tokko, xobbaallaawwan hoolaa torba kanneen umuriin isaanii waggaa tokko ta'ee
fi kanneen hir'ina hin qabne aarsaa gubamu godhaatii WAAQAYYOOF dhi'eessaa.
12 Tokkoo tokkoo jiboota loonii wajjin kennaa midhaanii kan daakuu bullaa'aa iifii
tokkoo irraa harka kudhan keessaa harki sadii zayitiidhaan sukkuumame, korbeessa
hoolaa sana wajjinis kennaa midhaanii kan daakuu bullaa'aa iifii tokkoo irraa
harka kudhan keessaa harki lama zayitiidhaan sukkuumame dhi'eeffamuu qaba;
13 tokkoo tokkoo xobbaallaa hoolaa wajjinis kennaan midhaanii kan daakuu bullaa'aa
iifii tokkoo irraa harka kudhan keessaa harki tokko zayitiidhaan sukkuumame
dhi'eeffamuu qaba. Kunis aarsaa gubamu kan ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eeffamuu
fi fooliin isaa toluu dha. 14 Tokkoo tokkoo dibicha loonii wajjin dhibaayyuu daadhii
wayinii iinii tokkoo irraa walakkaa isaa, tokkoo tokkoo xobbaallaa hoolaa wajjin iinii
tokko irraa harka sadii keessaa harka tokko, korbeessa hoolaa sana wajjinis iinii tokko
irraa harka afur keessaa harki tokko haa dhi'eeffamu. Kunis aarsaa gubamu kan
waggaa keessatti baatii haaraatti dhi'eeffamuu dha. 15 Akkasumas aarsaa cubbuutiif
korbeessa re'ee tokko WAAQAYYOOF dhi'eessaa; innis aarsaa yeroo hunda gubamuu fi
dhibaayyuu isaatti dabalamee dhi'eeffama.

### *Faasiikaa*
*28:16-25 kwf – Bau 12:14-20; Lew 23:4-8; KeD 16:1-8*

16 " 'Bultii kudha afuraffaa ji'a jalqabaatti Faasiikaan WAAQAYYOO ayyaaneffamuu
qaba. 17 Bultii kudha shanaffaa ji'a kanaatti ayyaanatu jira; isinis guyyaa torba
Maxinoo nyaattu. 18 Guyyaa jalqabaatti wal ga'ii qulqulluu qabaadhaa; hojii idilees
hin hojjetinaa. 19 Jiboota loonii lama, korbeessa hoolaa tokko, xobbaallaawwan
hoolaa torba kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi kanneen hundi
isaanii hir'ina hin qabne aarsaa gubamu godhaatii ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'eessaa.
20 Tokkoo tokkoo dibicha loonii wajjinis kennaa midhaanii kan daakuu bullaa'aa iifii
tokkoo irraa harka kudhan keessaa harki sadii zayitiidhaan sukkuumame, korbeessa
hoolaa wajjin iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harka lama, 21 xobbaallaawwan
hoolaa torban wajjin tokkoo tokkoo xobbaallaa hoolaatiif iifii tokko irraa harka
kudhan keessaa harka tokko dhi'eessi. 22 Akkasumas akka araarri isinii bu'uuf
korbeessa re'ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi'eessi. 23 Kanas aarsaa gubamu kan yeroo
hunda ganama ganama dhi'eeffamutti dabalaatii dhi'eessaa. 24 Haaluma kanaan
nyaata aarsaa ibiddaan dhi'eeffamuu kan fooliin isaa WAAQAYYOTTI tolu sana bultii
torbaaf guyyuma guyyaan dhi'eessaa; innis aarsaa gubamuu fi dhibaayyuu isaa kan
yeroo hunda dhi'eeffamutti dabalamee haa dhi'eeffamu. 25 Bultii torbaffaatti wal
ga'ii qulqulluu qabaadhaa; hojii idilees hin hojjetinaa.

*Ayyaana Torbanootaa*
*28:26-31 kwf – Lew 23:15-22; KeD 16:9-12*

[26] “ ‘Ayyaana Torbanootaa keessa guyyaa ayyaana mataa midhaaniitti yeroo kennaa
midhaan haaraa WAAQAYYOOF dhi’eessitan sana wal ga’ii qulqulluu godhadhaa;
hojii idilees hin hojjetinaa. [27] Jiboota loonii lama, korbeessa hoolaa tokkoo fi
xobbaallaawwan hoolaa torba kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta’e
aarsaa gubamu kan fooliin isaa WAAQAYYOTTI tolu dhi’eessaa. [28] Tokkoo tokkoo
dibicha loonii wajjinis kennaan midhaanii kan daakuu bullaa’aa iifii tokkoo irraa
harka kudhan keessaa harki sadii zayitiidhaan sukkuumame haa dhi’eeffamu.
Korbeessa hoolaa wajjin iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harki lama,
[29] Xobbaallaawwan hoolaa torban sana wajjinis iifii tokko irraa harka kudhan keessaa
harki tokko haa dhi’eeffamu. [30] Akkasumas akka araarri isinii bu’uuf korbeessa re’ee
tokko itti dabalaa dhi’eessaa. [31] Aarsaawwan kanneen dhibaayyuu isaanii wajjin,
aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi’eeffamuu fi kennaa midhaan isaatti dabalaatii
dhi’eessaa; horiin sunis kan hir’ina hin qabne ta’uu isaanii mirkaneeffadhaa.

## 29

*Ayyaana Malakataa*
*29:1-6 kwf – Lew 23:23-25*

[1] “ ‘Guyyaa jalqaba ji’a torbaffaatti wal ga’ii qulqulluu godhadhaa; gaafas hojii
idilee hin hojjetinaa. Guyyaan kun guyyaa isin itti malakata afuuftanii dha. [2] Dibicha
loonii tokko, korbeessa hoolaa tokkoo fi xobbaallaawwan hoolaa torba kanneen
umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta’ee fi kanneen hundi isaanii hir’ina hin qabne
aarsaa gubamu kan fooliin isaa WAAQAYYOTTI tolu dhi’eessaa. [3] Dibicha sana wajjinis
kennaa midhaanii kan daakuu bullaa’aa iifii* tokkoo irraa harka kudhan keessaa
harka sadii zayitiidhaan sukkuumame dhi’eessaa. Korbeessa hoolaa wajjinis iifii
tokko irraa harka kudhan keessaa harka lama, [4] xobbaallaawwan hoolaa torban
sana wajjinis iifii tokko harka kudhan keessaa harka tokko dhi’eessaa. [5] Akkasumas
akka araarri isinii buufamuuf korbeessa re’ee tokko itti dabalaatii aarsaa cubbuutiif
dhi’eessaa. [6] Aarsaawwan kunneen akkuma amala isaaniitti aarsaawwan gubaman
kanneen ji’a ji’attii fi guyyaa guyyaatti dhi’eeffamanii fi kennaawwan midhaaniittii fi
dhibaayyuu isaaniitti dabalamanii dhi’eeffamanii dha. Isaanis aarsaawwan ibiddaan
WAAQAYYOOF dhi’eeffaman kanneen fooliin isaanii toluu dha.

*Guyyaa Araarri Itti Buufamu*
*29:7-11 kwf – Lew 16:2-34; 23:26-32*

[7] “ ‘Bultii kurnaffaa ji’a torbaffaa kanaatti wal ga’ii qulqulluu godhadhaa; isinis
gad of deebisaa; hojii tokko illees hin hojjetinaa. [8] Dibicha loonii tokko, korbeessa
hoolaa tokkoo fi xobbaallaawwan hoolaa torba kanneen umuriin isaanii waggaa
tokko tokko ta’e kanneen hundi isaanii hir’ina hin qabne aarsaa gubamu kan fooliin
isaa WAAQAYYOTTI tolu godhaa dhi’eessaa. [9] Dibicha sana wajjinis kennaa midhaanii
kan daakuu bullaa’aa iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harki sadii zayitiidhaan
sukkuumamee dhi’eessaa; korbeessa hoolaa wajjinis iifii tokko irraa harka kudhan
keessaa harka lama, [10] xobbaallaawwan hoolaa torban sana wajjinis iifii tokko irraa
harka kudhan keessa harka tokko dhi’eessaa. [11] Akkasumas aarsaa cubbuu kan
araaraa buusuuf dhi’eeffamuu fi aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi’eeffamu,
kennaa midhaan isaatii fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re’ee tokko aarsaa
cubbuutiif dhi’eessaa.

* **29:3** 29:3 Iifiin tokko kiiloo giraamii 22.

### *Ayyaana Dunkaana Qulqulluu*
### *29:12-39 kwf – Lew 23:33-43; KeD 16:13-17*

12 " 'Bultii kudha shanaffaa ji'a torbaffaatti wal ga'ii qulqulluu godhadhaa; hojii
idilee hin hojjetinaa. WAAQAYYOOFIS bultii torba ayyaana ayyaaneffadhaa. 13 Jiboota
loonii kudha sadii, korbeeyyii hoolaa lamaa fi xobbaallaawwan hoolaa kudha afur
kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi kanneen hundi isaanii hir'ina
hin qabne aarsaa gubamu kan fooliin isaa WAAQAYYOTTI toluu fi kan ibiddaan
dhi'eeffamu dhi'eessaa. 14 Tokkoo tokkoo jiboota kudha sadanii wajjinis kennaa
midhaanii kan daakuu bullaa'aa iifii tokkoo irraa harka kudhan keessaa harki
sadii zayitiidhaan sukkuumame dhi'eessaa; tokkoo tokkoo korbeeyyii hoolaa lamaan
sanaa wajjinis iifii tokko irraa harka kudhan keessaa harka lama, 15 tokkoo tokkoo
xobbaallaawwan hoolaa kudha afran sanaa wajjinis iifii tokko irraa harka kudhan
keessaa harka tokko dhi'eessaa. 16 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda
dhi'eeffamu kennaa midhaan isaattii fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re'ee
tokko aarsaa cubbuutiif dhi'eessaa.
17 " 'Bultii lammaffaatti jiboota loonii kudha lama, korbeeyyii hoolaa lamaa fi
xobbaallaawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko
ta'ee fi kanneen hundi isaanii hir'ina hin qabne dhi'eessaa. 18 Akka lakkoobsa
murtaa'eettii fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaatii fi
xobbaallaawwan hoolaa sana wajjin kennaa midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu isaanii
dhi'eessaa. 19 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi'eeffamu, kennaa
midhaan isaattii fi dhibaayyuu isaaniitti dabalaatii korbeessa re'ee tokko aarsaa
cubbuutiif dhi'eessaa.
20 " 'Bultii sadaffaatti jiboota loonii kudha tokko, korbeeyyii hoolaa lamaa fi
xobbaallaawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko
ta'ee fi kanneen hundi isaanii hir'ina hin qabne dhi'eessaa. 21 Akka lakkoobsa
murtaa'eettii fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaa sanaa
fi xobbaallaawwan hoolaa sana wajjinis kennaa midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu
isaanii dhi'eessaa. 22 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi'eeffamu,
kennaa midhaan isaatii fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re'ee tokko aarsaa
cubbuutiif dhi'eessaa.
23 " 'Bultii afuraffaatti jiboota loonii kudhan, korbeeyyii hoolaa lamaa fi xobbaal-
laawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi
kanneen hundi isaanii hir'ina hin qabne dhi'eessaa. 24 Akka lakkoobsa murtaa'eettii
fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaa sanaa fi xobbaallaawwan
hoolaa sana wajjin kennaa midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi'eessaa.
25 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi'eeffamu, kennaa midhaan isaattii
fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re'ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi'eessaa.
26 " 'Bultii shanaffaatti jiboota loonii sagal, korbeeyyii hoolaa lamaa fi xobbaal-
laawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi
kanneen hundi isaanii hir'ina hin qabne dhi'eessaa. 27 Akka lakkoobsa murtaa'eettii
fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaa sanaa fi xobbaallaawwan
hoolaa sana wajjin kennaa midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi'eessaa.
28 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi'eeffamu, kennaa midhaan isaatii
fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re'ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi'eessaa.
29 " 'Bultii ja'affaatti jiboota loonii saddeeti, korbeeyyii hoolaa lamaa fi xobbaal-
laawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta'ee fi
kanneen hundi isaanii hir'ina hin qabne dhi'eessaa. 30 Akka lakkoobsa murtaa'eettii
fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaa sanaa fi xobbaallaawwan
hoolaa sana wajjin kennaa midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi'eessaa.

31 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi’eeffamu, kennaa midhaan isaatii
fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re’ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi’eessaa.
32 “ ‘Bultii torbaffaatti jiboota loonii torba, korbeeyyii hoolaa lamaa fi xobbaal-
laawwan hoolaa kudha afur kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta’ee fi
kanneen hundi isaanii hir’ina hin qabne dhi’eessaa. 33 Akka lakkoobsa murtaa’eettii
fi akkuma amala isaaniitti jiboota loonii, korbeeyyii hoolaa sanaa fi xobbaal-
laawwan hoolaa sana wajjin kennaa midhaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi’eessaa.
34 Akkasumas aarsaa gubamu kan yeroo hunda dhi’eeffamu, kennaa midhaan isaatii
fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii korbeessa re’ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi’eessaa.
35 “ ‘Bultii saddeettaffaatti wal ga’ii qulqulluu godhadhaa; hojii idilee hin hojjetinaa.
36 Dibicha loonii tokko, korbeessa hoolaa tokkoo fi xobbaallaawwan hoolaa torba
kanneen umuriin isaanii waggaa tokko tokko ta’ee fi kanneen hundi isaanii hir’ina
hin qabne aarsaa gubamu kan ibiddaan dhi’eeffamuu fi kan fooliin isaa Waaqayyotti
tolu dhi’eessaa. 37 Akka lakkoobsa murtaa’eettii fi akkuma amala isaaniitti dibicha
loonii, korbeessa hoolaa sanaa fi xobbaallaawwan hoolaa sana wajjin kennaa
midhaan isaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi’eessaa. 38 Akkasumas aarsaa gubamu
kan yeroo hunda dhi’eeffamu, kennaa midhaan isaatii fi dhibaayyuu isaatti dabalaatii
korbeessa re’ee tokko aarsaa cubbuutiif dhi’eessaa.
39 “ ‘Aarsaa keessan kan gubamu, kennaa midhaan keessanii, dhibaayyuu keessanii
fi aarsaa keessan kan nagaa, kan wareega keessaniitii fi aarsaa fedhii keessaniin
dhi’eessitanitti dabalaatii ayyaana keessan beekamaa sana irratti Waaqayyoof
dhi’eessaa.’ ”
40 Museenis waan Waaqayyo isa ajaje hunda Israa’elootatti hime.

# 30

*Wareegawwan*

1 Museen abbootii gosoota Israa’eliin akkana jedhe: “Wanni Waaqayyo ajaje kanaa
dha: 2 Namni tokko yoo Waaqayyoof waa wareege yookaan akka waan tokko hojjetu
ofumaa isaatiin yoo kakate, inni kakuu ofii sana hin cabsin; qooda kanaa waan
dubbate hunda guutuu qaba.
3 “Yoo intalli tokko utuma mana abbaa ishee jirtuu Waaqayyoof wareega wareegde
yookaan waan tokko gochuudhaaf dirqama keessa seente, 4 yoo abbaan ishees waa’ee
wareega ishee yookaan dirqama keessa seenuu ishee dhaga’ee homaa isheen jechuu
baate wareegni isheettii fi dirqamni isheen seente sun hundi hin geeddaramu. 5 Yoo
abbaan ishee waan kana dhaga’ee ishee dhowwe garuu wareega ishee yookaan
kakuu isheen ittiin dirqama seente keessaa tokko iyyuu hin guutamu; sababii abbaan
ishee ishee dhowweef Waaqayyo ishee ni bilisoomsa.
6 “Yoo isheen erga wareega seentee booddee yookaan erga dubbii utuu itti hin
yaadin dubbatteen dirqama seentee booddee heerumte, 7 dhirsi ishees yoo waan kana
dhaga’ee homaa isheen jechuu baate wareegni ishee yookaan dirqamni isheen seente
sun hin geeddaramu. 8 Garuu dhirsi ishee yoo yeroo waan kana dhaga’utti ishee
dhowwe, wareega ishee kan dirqama keessa ishee galchu yookaan waadaa isheen
utuu itti hin yaadin dirqama keessa of galchite sana ishee jalaa diiga; Waaqayyos
ishee bilisoomsa.
9 “Wareegni haadha hiyyeessaa yookaan dubartii dhirsa jalaa baatee, dirqamni
isheen seente kam iyyuu ishee qabata.
10 “Yoo dubartiin dhirsa ishee wajjin jiraattu tokko wareega tokko wareegdee
yookaan waan tokko gochuudhaaf kakuudhaan dirqama keessa of galchite, 11 dhirsi
ishees yoo waan kana dhaga’ee homaa isheedhaan jechuu baate yookaan yoo ishee
dhowwuu baate wareegni ishee yookaan waadaan isheen ittiin dirqama keessa of

galchite sun hundi hin geeddaramu. 12 Garuu yoo dhirsi ishee yeroo waan kana
dhaga'utti ishee jalaa diige, wareega ishee yookaan waadaa afaan isheetii ba'e
keessaa tokko iyyuu hojii irra hin oolu; sababii dhirsi ishee ishee jalaa diigeef,
WAAQAYYO ishee bilisoomsa. 13 Dhirsi ishee wareega isheen wareegdu yookaan
waadaa isheen gad of qabuuf kakuudhaan seentu kam iyyuu fudhachuu yookaan
diiguu ni danda'a. 14 Garuu yoo dhirsi ishee guyyuma guyyaan homaa isheen jechuu
baate, inni wareega ishee yookaan dirqama ishee irra jiru hunda fudhateera jechuu
dha. Inni sababii gaafa waa'ee waan kanaa dhaga'e sana homaa isheedhaan hin
jedhiniif waan sana fudhateera. 15 Ta'us inni yoo erga waa'ee waan kanaa dhaga'ee
booddee waadaa sana diige yakka isheetti ni gaafatama."

16 Isaan kunneen seerawwan dhirsaa fi niitii gidduu akkasumas abbaa fi intala isaa
kan yeroo ijoollummaa isheetti mana isaa jirtu gidduu jiraachuu qabu kan WAAQAYYO
Musee ajajee dha.

# 31

*Midiyaanota Irratti Haaloo Ba'uu*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Saba Israa'eliif jedhiitii warra Midiyaan
irratti haaloo ba'i. Ergasii ati gara saba keetiitti walitti qabamta."

3 Kana irratti Museen saba sanaan akkana jedhe; "Akka isaan warra Midiyaanitti
duulanii haaloo WAAQAYYOO isaan irratti ba'aniif namoota keessan keessaa muraasa
hidhachiisaa. 4 Tokkoo tokkoo gosa Israa'el keessaa nama kuma tokko tokkoo duulatti
ergaa." 5 Akkasitti tokkoo tokkoo gosa Israa'el keessaa namoonni kumni tokko tokko
walitti buufamanii namni kumni kudha lama lolaaf hidhate. 6 Museenis tokkoo
tokkoo gosaa keessaa nama kuma tokko tokko Fiinehaas ilma Ele'aazaar lubichaa
isa mi'a iddoo qulqulluutii fi malakata afuufamu harkatti qabate sana wajjin gara
waraanaatti erge.

7 Isaanis akkuma WAAQAYYO Musee ajaje sanatti warra Midiyaan lolanii dhiira
hunda ajjeesan. 8 Mootonni Midiyaan shanan jechuunis Eewii, Reqem, Zuuri, Huurii
fi Rebaanis warra ajjeefaman keessa turan. Akkasumas Bala'aam ilma Be'oor
goraadeedhaan ajjeesan. 9 Israa'eloonni dubartootaa fi ijoollee warra Midiyaan
booji'an; loon, bushaayee fi qabeenya isaanii hundas ni saaman. 10 Magaalaawwan
Midiyaanonni keessa jiraatan hundaa fi qubatawwan isaanii hunda ibiddaan guban.
11 Isaanis waan booji'anii fi waan saaman hunda namaa fi horii illee fuudhanii
12 warra booji'an, waan qabatanii fi waan saaman gara iddoo qubata isaanii kan fuula
Yerikoo dura, Yordaanos cina, dirreewwan Mo'aab keessa jiruutti gara Museetti, gara
Ele'aazaar lubichaatii fi gara waldaa Israa'elitti fidan.

13 Museen, Ele'aazaar lubichii fi hooggantoonni waldaa hundi qubataan alatti isaan
simachuuf gad ba'an. 14 Museenis ajajjuuwwan loltootaa jechuunis ajajjuuwwan
kumaatii fi ajajjuuwwan dhibbaa kanneen lolaa galanitti aare.

15 Innis akkana jedhee isaan gaafate; "Isin maaliif dubartoota hunda hambiftan?
16 Kunoo warri waan Phe'ooritti ta'e sana keessatti gorsa Bala'aam fudhachuudhaan
akka dha'ichi saba WAAQAYYOO irra bu'uuf Israa'eloota WAAQAYYO irraa deebisan
isaan turan. 17 Ammas ilmaan dhiiraa hunda fixaa; akkasumas dubartii dhiira wajjin
ciifte hunda ajjeesaa. 18 Garuu dubara takkumaa dhiira wajjin hin ciisin ofii keessaniif
hambifadhaa.

19 "Isin keessaa namni nama ajjeese kam iyyuu yookaan namni nama ajjeefame
tuqe kam iyyuu bultii torba qubataan ala haa turu. Bultii sadaffaa fi bultii torbaffaat-
tis ofii keessanii fi boojuu keessan qulqulleessaa. 20 Uffata hunda akkasumas waan
gogaa irraa, rifeensa re'ee irraa yookaan muka irraa hojjetame hunda qulqulleessaa."

21 Ergasiis Ele’aazaar lubichi loltoota duula dhaqanii turan sanaan akkana jedhe;
“Qajeelfamni seeraa kan WAAQAYYO Museef kenne kanaa dha: 22 Warqee, meetii,
naasii, sibiila, qorqorroo, dilaalii fi 23 wanni ibidda irraa hafuu danda’u kam iyyuu
ibidda keessa dabarfamee qulqullaa’uu qaba. Garuu wanni sun bishaan qulqul-
laa’ummaatiinis qulqulleeffamuu qaba. Wanni ibidda irra hafuu hin dandeenye
kam iyyuu bishaan sanaan qulqulleeffama. 24 Guyyaa torbaffaatti uffata keessan
miiccadhaa; isinis ni qulqulleeffamtu. Ergasii qubatatti galuu dandeessu.”

### *Boojuu Qooddachuu*

25 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 26 “Ati, Ele’aazaar lubichii fi abbootiin
maatii waldaa sanaa namootaa fi horii booji’aman lakkaa’aa. 27 Boojuu sanas loltoota
duula dhaqanii turanii fi waldaa hunda gidduutti iddoo lamatti qoodi. 28 Loltoota
duulan irraa namas ta’u loon, harroota, hoolota yookaan re’oota dhibba shan keessaa
tokko WAAQAYYOOF gibira fuudhi. 29 Gibira sanas walakkaa qooda isaanii irraa
fuudhii qooda WAAQAYYOO godhiitii Ele’aazaar lubichatti kenni. 30 Walakkaa qooda
saba Israa’el irraa immoo namas ta’u loon, harroota, hoolota, re’oota yookaan horii
biraa shantama keessaa tokko fuudhiitii Lewwota warra itti gaafatamtoota dunkaana
WAAQAYYOO ta’anitti kenni.” 31 Musee fi Ele’aazaar lubichi akkuma WAAQAYYO Musee
ajaje sana godhan.
32 Wanti boojuu loltoonni fudhatan irraa hafe hoolota 675,000, 33 loon 72,000,
34 harroota 61,000, 35 dubartoonni takkumaa dhiira wajjin hin ciisin 32,000 turan.

36 Qoodni walakkaa kan warra duulaniif qoodame:

Hoolota 337,500 37 keessaa gibirri WAAQAYYOO 675 ture;
38 loon 36,000 keessaa gibirri WAAQAYYOO 72 ture;
39 harroota 30,500 keessaa gibirri WAAQAYYOO 61 ture;
40 nama 16,000 keessaa gibirri WAAQAYYOO 32 ture.

41 Museen akkuma WAAQAYYO isa ajaje sanatti gibira sana qooda WAAQAYYOO godhee
Ele’aazaar lubichatti kenne.
42 Qooda walakkaa kan Museen warra duulan irraa Israa’elootaaf qoode:
43 Walakkaan boojuu kan waldaa sanaa hoolota 337,500, 44 loon 36,000, 45 harroota
30,500, 46 nama 16,000 ture. 47 Museen akkuma WAAQAYYO isa ajaje sanatti walakkaa
saba Israa’el irraa namaa fi horii shantama keessaa tokko fuudhee Lewwota warra
itti gaafatamtoota dunkaana WAAQAYYOO ta’anitti kenne.
48 Ergasiis ajajjuuwwan loltoota kumaatama irratti aangoo qaban jechuunis ajajju-
uwwan kumaatii fi ajajjuuwwan dhibbaa gara Musee dhaqanii 49 akkana jedhaniin;
“Nu garboonni kee loltoota ajaja keenya jala jiran lakkoofneerra; namni tokko iyyuu
hin hir’anne. 50 Kanaafuu nu waan tokkoon tokkoon keenya arganne jechuunis mi’a
warqee, arboora, bitawoo, qubeelaa chaappaa, lootii fi amartii mormaa akka fuula
WAAQAYYOO duratti aarsaa araara nuu buusuuf kennaa WAAQAYYOOF dhi’eeffamu
goonee fidneerra.”
51 Musee fi Ele’aazaar lubichis warqee fi faayawwan harkaan tolfaman hunda
isaan harkaa fuudhan. 52 Warqeen ajajjuuwwan kumaatii fi ajajjuuwwan dhibbaa
kennan kanneen Musee fi Ele’aazaar akka kennaatti WAAQAYYOOF dhi’eessan hundi
saqilii 16,750 ulfaatu ture. 53 Tokkoon tokkoon loltootaa ofii isaaniitiif boojuu
fudhatanii turan. 54 Musee fi Ele’aazaar lubichis warqee sana ajajjuuwwan kumaatii
fi ajajjuuwwan dhibbaa harkaa fuudhanii akka Israa’eloonni fuula WAAQAYYOO
duratti ittiin yaadatamaniif dunkaana wal ga’iitti ol galchan.

# 32

*Gosoota Yordaanos Gamaa*

1 Ilmaan Ruubeenii fi ilmaan Gaad warri loonii fi bushaayee hedduu qaban akka
biyyi Ya'izeerii fi biyyi Gili'aad horii isaaniitiif tolu argan. 2 Isaan gara Musee,
gara Ele'aazaar lubichaatii fi gara hooggantoota waldaa dhufanii akkana jedhan;
3 "Axaaroti, Diiboon, Ya'izeer, Niimraa, Heshboon, Ele'aalee, Sebaamaa, Neboo fi
Be'oon, 4 biyyi WAAQAYYO fuula waldaa Israa'el duratti rukute sun horiif tolaa dha;
nu tajaajiltoonni kees horii qabna. 5 Yoo nu fuula kee duratti fudhatama argannee
jiraanne biyyi kun nu tajaajiltoota keetiif handhuuraa ta'ee haa kennamu. Akka nu
Yordaanos gama ceenus hin godhin."

6 Museenis ilmaan Gaadii fi ilmaan Ruubeeniin akkana jedhe; "Obboloonni keessan
duula dhaqanii isin immoo as teessuu? 7 Isin maaliif akka Israa'eloonni biyya
WAAQAYYO isaanii kenne sanatti ce'anii hin galleef abdii isaan kutachiiftuu? 8 Kun
waanuma abbootiin keessan gaafa ani akka isaan biyyattii ilaalaniif jedhee Qaadesh
Barnee irraa isaan erge sana hojjetanii dha. 9 Isaanis erga gara Sulula Eshkool
dhaqanii biyya sana arganii booddee akka Israa'eloonni biyya WAAQAYYO isaaniif
kennetti hin galleef abdii isaan kutachiisan. 10 Dheekkamsi WAAQAYYOOS guyyuma
sana boba'e; innis akkana jedhee kakate; 11 'Waan isaan garaa guutuudhaan na
faana deemuu didaniif, namoota waggaa digdamaatii fi hammasii olii kanneen biyya
Gibxiitii ba'anii dhufan keessaa namni tokko iyyuu biyya ani Abrahaamiif, Yisihaaqii
fi Yaaqoobiif waadaa gale sana hin argu. 12 Kaaleb ilma Yefunee kan gosa Qeneezii
fi Iyyaasuu ilma Nuuni malee namni tokko iyyuu hin argu; isaan lamaan garaa
guutuudhaan WAAQAYYO duukaa bu'aniiruutii.' 13 Dheekkamsi WAAQAYYOO Israa'el
irratti boba'e; innis hamma dhaloonni fuula isaa duratti waan hamaa hojjete sun
hundi dhumutti akka isaan waggaa afurtama gammoojjii keessa jooran godhe.

14 "Yaa sanyii cubbamootaa nana, isin kunoo dheekkamsa WAAQAYYOO kan Israa'el
irratti boba'e sana ittuma caalchisuuf iddoo abbootii keessanii buutaniirtu. 15 Yoo
isin isa duukaa bu'uu irraa garagaltan inni ammas gammoojjii kana keessatti saba
kana hunda ni dhiisa; isinis uummata kana ni balleessitu."

16 Isaan gara isaa dhufanii akkana jedhaniin; "Nu asitti horii keenyaaf dallaa,
dubartootaa fi ijoollee keenyaaf immoo magaalaawwan ijaarra. 17 Nu garuu hamma
lafa isaaniitiin isaan geenyutti hidhannee Israa'el dura deemuuf qophaa'oo dha.
Yeroo kanatti akka jiraattoonni biyyattii isaan hin tuqneef dubartoonnii fi ijoolleen
keenya magaalaawwan dallaa jabaa qaban keessa haa jiraatan. 18 Hamma tokkoon
tokkoon Israa'elootaa dhaala ofii isaanii argatanitti nu mana keenyatti hin deebinu.
19 Sababii dhaalli keenya laga Yordaanos irraa gara ba'aatti nuuf kennameef nu
Yordaanos irraa gama kaaniin isaan wajjin waan dhaallu hin qabnu."

20 Museenis akkana isaaniin jedhe; "Yoo isin waan kana gootan, yoo isin fuula
WAAQAYYOO duratti hidhattanii duulaaf kaatan, 21 yoo isin hundinuu hamma inni
diinota ofii isaa fuula ofii isaa duraa ari'ee baasutti hidhattanii fuula WAAQAYYOO
dura Yordaanosin ceetan, 22 yeroo biyyattiin fuula WAAQAYYOO duratti mo'atamtutti
isin itti gaafatama WAAQAYYOO fi saba Israa'eliif qabdan irraa ni bilisoomtu. Biyyi
sunis fuula WAAQAYYOO duratti dhaala keessan ta'a.

23 "Garuu isin yoo waan kana gochuu baattan, kunoo WAAQAYYOTTI cubbuu hoj-
jechuu keessan; akka cubbuun keessan isin argatu illee beekkadhaa. 24 Dubartootaa
fi ijoollee keessaniif magaalaawwan, bushaayee keessaniif immoo dallaa ijaaraa; isin
garuu waan waadaa galtan sana guutaa."

25 Ilmaan Gaadii fi ilmaan Ruubeen Museedhaan akkana jedhan; "Nu garboonni
kee akkuma gooftaan keenya nu ajaju goona. 26 Ijoolleen keenyaa fi niitonni keenya,
bushaayeen keenyaa fi loon keenya, asuma magaalaawwan Gili'aaditti haa hafan.

27 Nu garboonni kee garuu tokkoon tokkoon keenya akkuma gooftaan keenya jedhe
sana duulaaf qophoofnee fuula WAAQAYYOO duratti duuluuf ni ceena.”

28 Ergasiis Museen waa’ee isaanii Ele’aazaar lubichaaf, Iyyaasuu ilma Nuunitii fi
abbootii maatii gosoota Israa’eliif ajaja kenne. 29 Innis akkana isaaniin jedhe; “Yoo
ilmaan Gaadii fi ilmaan Ruubeen, namni waraanaaf hidhate hundi fuula WAAQAYYOO
duratti isin wajjin Yordaanos ce’e, yommuu biyyattiin isin harka galtutti biyya
Gili’aad sana kennaafii. 30 Garuu isaan yoo duulaaf hidhatanii isin wajjin ce’uu
baatan, Kana’aan keessatti isin wajjin lafa haa argatan.”

31 Ilmaan Gaadii fi ilmaan Ruubeenis akkana jedhanii deebii kennan; “Nu
garboonni kee waan WAAQAYYO jedhe ni goona. 32 Nu mi’a lolaa hidhannee fuula
WAAQAYYOO dura ceenee Kana’aan seenna; garuu qabeenyi nu dhaallu Yordaanosiin
gamatti nuuf haa hafu.”

33 Museenis mootummaa Sihoon mootii Amoorotaa fi mootummaa Oogi mootii
Baashaan jechuunis biyya sana guutuu magaalaawwan isaaniitii fi bulchiinsa
naannoo isaanii jiru sana ilmaan Gaadiitiif, ilmaan Ruubeeniitii fi walakkaa gosa
Minaasee ilma Yoosefiif kenne.

34 Ilmaan Gaadis magaalaawwan Diiboon, Axaaroti, Aro’eer, 35 Atroot Shoofaan,
Ya’izeer, Yogbihaa, 36 Beet Niimraa fi Beet haaraan magaalaawwan jajjaboo godhanii
ijaaran. Bushaayee isaaniitiifis dallaa ijaarratan. 37 Ilmaan Ruubeenis maga-
alaawwan Heshboon, Ele’aaleenii fi Kiriyaataayim, 38 akkasumas Neboo fi Ba’aal
Me’oon jechuunis magaalaawwan maqaan isaanii geeddaramee fi Sibimaa deebisanii
ijaaran. Isaanis magaalaawwan deebisanii ijaaran sanaaf maqaa baasan.

39 Ijoolleen Maakiir ilma Minaasees gara Gili’aad dhaqanii biyyattii qabatanii
Amoorota achi turan ari’anii baasan. 40 Museenis Gili’aadin ijoollee Maakiir
sanyii Minaaseetiif kenne; isaanis achi qubatan. 41 Yaa’iir ilmi Minaasees dhaqee
gandoota isaanii fudhatee gandoota Yaa’iirootaa jedhee moggaase. 42 Noobaan
immoo Qeenaatii fi gandoota naannoo isaa jiran qabatee Noobaa jedhee maqaa ofii
isaatiin waame.

# 33

*Adeemsa Israa’elootaa*

1 Sadarkaaleen adeemsa saba Israa’el kan yeroo isaan kutaa kutaadhaan qa-
jeelfama Museetii fi Aroon jalatti biyya Gibxii ba’anii kana. 2 Museen ajaja
WAAQAYYOOTIIN sadarkaalee adeemsa isaanii galmeesse. Adeemsi isaaniis sadarkaa
sadarkaadhaan kunoo ti:

3 Israa’eloonni ji’a jalqabaa keessa guyyaa kudha shanaffaatti guyyaa Faasiikaatti
aanu Raamseedhaa ka’anii qajeelan. Isaanis utuma warri Gibxii hundi isaan
arganuu irree jabaadhaan deeman; 4 yeroo kana warri Gibxi ilmaan hangafa isaanii
kanneen WAAQAYYO isaan gidduudhaa fixe hunda awwaallachaa turan; waaqota
warra Gibxitti WAAQAYYO muree tureetii.

5 Israa’eloonnis Raamseedhaa ka’anii Sukooti qubatan.

6 Sukootii ka’anii Eetaam ishee qarqara gammoojjiitti argamtu keessa qubatan.

7 Eetaamii ka’anii gara Phii Hahiiroti kan gama ba’a Ba’aal Zefooniitti argamtu-
utti garagalanii Migdool bira qubatan.

8 Fiihahiirootii ka’anii galaana keessa darbanii gammoojjii seenan; isaanis
Gammoojjii Eetaamii keessa bultii sadii deemanii Maaraa qubatan.

9 Maaraadhaa ka’anii Eelim lafa burqaa kudha lamaa fi muka meexxii tor-
baatama qabu sana dhaqanii achi qubatan.

10 Eelimii ka’anii Galaana Diimaa cina qubatan.

11 Galaana Diimaadhaa ka'anii Gammoojjii Siin keessa qubatan.
12 Gammoojjii Siiniitii ka'anii Dofqaa qubatan.
13 Dofqaadhaa ka'anii Aaluush qubatan.
14 Aaluushii ka'anii Refiidiim lafa bishaan namni dhugu hin jirre qubatan.
15 Refiidiimii ka'anii Gammoojjii Siinaa keessa qubatan.
16 Gammoojjii Siinaatii ka'anii Qiibrooti Hataabaa qubatan.
17 Qiibrooti Hataabaadhaa ka'anii Haxerooti qubatan.
18 Haxerootii ka'anii Riitmaa qubatan.
19 Riitmaadhaa ka'anii Rimoon Phereez qubatan.
20 Rimoon Phereezii ka'anii Libnaa qubatan.
21 Libnaadhaa ka'anii Riisaa qubatan.
22 Riisaadhaa ka'anii Qehelaataa qubatan.
23 Qehelaataadhaa ka'anii Gaara Shaafer bira qubatan.
24 Gaara Shaafer biraa ka'anii Haraadaa qubatan.
25 Haraadaa ka'anii Maqiheelooti qubatan.
26 Maqiheelootii ka'anii Tahaati qubatan.
27 Tahaatii ka'anii Taaraa qubatan.
28 Taaraadhaa ka'anii Miitiqaa qubatan.
29 Miitiqaadhaa ka'anii Hashmoonaa qubatan.
30 Hashmoonaadhaa ka'anii Mooserooti qubatan.
31 Mooserootii ka'anii Benee Yaa'akaan qubatan.
32 Benee Yaa'akaanii ka'anii Hoori Hagidgaad qubatan.
33 Hoori Hagidgaadii ka'anii Yoxbaataa qubatan.
34 Yoxbaataadhaa ka'anii Abroonaa qubatan.
35 Abroonaadhaa ka'anii Eziyoon Geber qubatan.
36 Eziyoon Geberii ka'anii Gammoojjii Siin keessa Qaadesh qubatan.
37 Qaadeshii ka'anii daarii biyya Edoom irra Tulluu Hoori bira qubatan. 38 Aroon
lubichis ajaja WAAQAYYOOTIIN Tulluu Hooriitti ol ba'e; innis erga Israa'eloonni biyya
Gibxiitii ba'anii booddee waggaa afurtamaffaatti guyyaa jalqaba ji'a shanaffaatti
achitti du'e. 39 Aroon yommuu Tulluu Hoori irratti du'e sana umuriin isaa waggaa
dhibba tokkoo fi digdamii sadii ture.
40 Mootiin Aaraad namichi Kana'aan kan Negeeb keessa jiraachaa ture sun akka sabni Israa'el dhufaa jiru dhaga'e.
41 Isaanis Tulluu Hooriitii ka'anii Zalmoonaa qubatan.
42 Zalmoonaadhaa ka'anii Phuunon qubatan.
43 Phuunoniidhaa ka'anii Oobooti qubatan.
44 Oobootii ka'anii daarii Mo'aab irra Iyyee Abaariim qubatan.
45 Iyyiimii ka'anii Diiboongaad qubatan.
46 Diiboongaadii ka'anii Almoon Diiblaatayim qubatan.
47 Almoon Diiblaatayimii ka'anii Neboo tulluuwwan Abaariim bira qubatan.
48 Tulluuwwan Abaariimiitii ka'anii dirreewwan Mo'aab irra, Yordaanos bira,
Yerikoo gama qubatan. 49 Isaanis dirreewwan Mo'aab kan Yordaanos cina Beet
Yashiimootii jalqabee hamma Abeel Shixiimiitti jiru sana irra qubatan.

50 WAAQAYYOS dirreewwan Mo'aab irratti, Yordaanos biratti, Yerikoo gamatti
Museedhaan akkana jedhe; 51 "Akkana jedhii saba Israa'elitti dubbadhu; 'Isin
yommuu Yordaanos ceetanii Kana'aanitti galtanitti, 52 jiraattota biyya sanaa of duraa
ari'aa baasaa. Fakkiiwwan isaanii kanneen soofamanii hojjetamanii fi waaqota
isaanii kanneen baqfamanii tolfaman hunda barbadeessaa; gaarran sagadaa isaanii

hundas diigaa. 53 Sababii ani biyyattii handhuuraa godhee isinii kenneef, biyyattii
dhuunfadhaa keessa jiraadhaa. 54 Biyya sanas maatiiwwan keessaniif dhaala
godhaatii ixaadhaan gargari qoodaa; maatii baay'eedhaaf dhaala guddaa, maatii
muraasaaf immoo dhaala xinnaa kennaa. Iddoon ixaadhaan isaanii ba'e kan isaanii
ta'a. Isinis akkuma gosoota abbootii keessaniitti dhaalaa.

55 " 'Garuu yoo isin warra biyya sana jiraatan achii baasuu baattan, warri isin akka
isaan achi jiraataniif dhiiftan sun akka huuba ija keessaatii fi akka qoraattii cinaacha
keessaa isinitti ta'u. Biyya isin keessa jiraattan keessattis isin rakkisu. 56 Anis waanan
isaan gochuu yaade sana isinitti nan fida.' "

# 34

*Daangaawwan Kana'aan*

1 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 2 "Akkana jedhii Israa'eloota ajaji:
'Yeroo isin Kana'aan seentanitti biyyi akka dhaalaatti isinii kennamtu sun
daangaawwan kanneen qabaatti:

3 " 'Daangaan keessan kan gama kibbaa Gammoojjii Siin kan qarqara Edoom irra
jirtu irraa jalqaba; karaa ba'aatiin daangaan keessan kan kibbaa dhuma Galaana
Soogiddaa irraa jalqaba; 4 daangaan keessan kibba irraa gara tabba Aqrabiimitti
deebi'ee, gara Siinitti ce'ee hamma kibba Qaadesh Barneetti deema. Ergasiis gara
Hazar Adaaritti ittuma fufee gara Azimoonitti darba. 5 Daangaan sunis Azimoon
irraa gara laga Gibxitti deebi'ee galaana ga'ee dhuma.

6 Daangaan keessan kan gama dhi'aa immoo qarqara Galaana guddichaa ti. Kunis
gama dhi'aatiin daangaa keessan ta'a.

7 Daarii keessan kan kaabaatiif galaana guddaadhaa hamma Tulluu Huuritti,
8 Tulluu Huuriitii hamma Leeboo Hamaatiitti mallattoo tolchaa. Daariin sunis
hamma Zedaaditti deemee 9 hamma Ziifronitti itti fufee Hazar Eenaan irratti
dhuma. Kunis daarii keessan kan kaabaa ta'a.

10 Daarii keessan kan ba'aatiifis Hazar Eenaanii jalqabaatii hamma Shefaamaatti
mallattoo tolchaa. 11 Daariin sunis Shefaamaa jalqabee karaa ba'a Aayiniitiin
hamma Riibilaatti gad bu'a; itti fufees hamma ededa gama ba'aa Galaana
Kinereetitti argamuutti deema. 12 Daariin kunis Yordaanositti gad bu'ee Galaana
Soogiddaa ga'ee dhaabata.

" 'Egaa biyyi gama hundaan daarii qabu kun keessan ta'a.' "

13 Museen akkana jedhee Israa'eloota ajaje: "Biyya kana dhaala godhadhaatii
ixaadhaan qoodadhaa; WAAQAYYO akka biyyi kun gosa sagalii fi walakkaadhaaf
kennamu ajajeera; 14 maatiiwwan gosa Ruubeen, kan gosa Gaadii fi walakkaan gosa
Minaasee dhaala ofii fudhataniiruutii. 15 Gosoonni lamaanii fi walakkaan gosa tokkoo
Yordaanos gamaa, fuullee Yerikootii gara ba'a biiftuutti karaa ba'aatiin dhaala isaanii
argataniiru."

16 WAAQAYYO Museedhaan akkana jedhe; 17 "Maqaan namoota akka dhaalaatti lafa
kana isinii qoodaniis Ele'aazaar lubichaa fi Iyyaasuu ilma Nuunii ti. 18 Isinis akka
isaan lafa dhaalaa qoodaniif tokkoo tokkoo gosaa keessaa hoogganaa tokko filadhaa.

19 "Maqaan isaaniis kanneenii dha:

"Gosa Yihuudaa keessaa, Kaaleb ilma Yefunee;
20 gosa Simi'oon keessaa, Shemuu'eel ilma Amiihuud;

21 gosa Beniyaam keessaa, Eliidaad ilma Kisloon;
22 gosa Daan keessaa hoogganaan, Bukii ilma Yoogilii;
23 gosa Minaasee ilma Yoosef keessaa hoogganaan, Hanii'eel ilma Eefoodi;
24 gosa Efreem ilma Yoosef keessaa hoogganaan, Qamu'eel ilma Shiifxaan;
25 gosa Zebuuloon keessaa hoogganaan, Eliisaafaan ilma Phaarnaak;
26 gosa Yisaakor keessaa hoogganaan, Phaaltii'eel ilma Azaan;
27 gosa Aasheer keessaa hoogganaan, Ahiihuud ilma Sheloomii;
28 gosa Niftaalem keessaa hoogganaan, Phedaa'eel ilma Amiihuud."

29 Namoonni kunneen warra WAAQAYYO akka isaan biyya Kana'aan keessatti Israa'elootaaf dhaala hiraniif isaan ajajee dha.

# 35

*Magaalaawwan Lewwotaaf Kennaman*

1 WAAQAYYOS dirreewwan Mo'aab irratti, Yordaanos biratti, Yerikoo gamatti
Museedhaan akkana jedhe; 2 "Israa'eloonni dhaala ofii isaaniitii argachuuf jiran
keessaa magaalaawwan Lewwonni keessa jiraatan akka isaanii kennan Israa'eloota
ajaji. Lafa horii itti bobbaafatanis naannoo magaalaawwaniitti haa kennaniif.
3 Isaanis magaalaawwan keessa jiraatanii fi lafa itti loon isaaniitii fi horii isaanii
kaan hunda bobbaafatan ni qabaatu.
4 "Lafti horiin itti bobba'u kan isin naannoo magaalaawwaniitti Lewwotaaf
kennitan sun dallaa magaalaa irraa jalqabee gama hundaan dhundhuma kuma tokko
achi bal'ata. 5 Magaalaa sana gidduutti hambisuudhaan karaa alaatiin gama ba'aatiin
dhundhuma kuma lama, gama kibbaatiin dhundhuma kuma lama, gama dhi'aatiin
dhundhuma kuma lama, gama kaabaatiin immoo dhundhuma kuma lama safaraa.
Iddoowwan kunneen magaalaawwan sanaaf iddoowwan itti horii bobbaafatan ta'u.

*Magaalaawwan Itti Baqatan*
*35:6-34 kwi – KeD 4:41-43; 19:1-14; Iya 20:1-9*

6 "Magaalaawwan ja'an isin Lewwotaaf kennitan magaalaawwan itti baqatan
kanneen namni nama ajjeese itti baqatu ta'u. Magaalaawwan afurtamii lamas kanatti
dabalaatii isaanii kennaa. 7 Walumaa galatti magaalaawwan afurtamii saddeet
kanneen lafa tika ofii isaanii qaban Lewwotaaf kennaa. 8 Magaalaawwan isin
lafa Israa'eloonni dhaalan irraa Lewwotaaf kennitan, akkuma qooda dhaala tokkoo
tokkoo gosaatti haa ta'u; gosa dhaala baay'ee qabu irraa magaalaawwan baay'ee,
gosa dhaala muraasa qabu irraa immoo magaalaawwan xinnoo fuudhaa."
9 WAAQAYYOS Museedhaan akkana jedhe: 10 "Israa'elootatti dubbadhu; akkanas
jedhiin: 'Isin yommuu Yordaanosin ceetanii Kana'aanitti galtanitti, 11 akka isin
magaalaawwan itti baqatan kanneen namni tasa nama ajjeese itti baqatu isinii
ta'aniif magaalaawwan filadhaa. 12 Magaalaawwan kunneenis akka namni nama
ajjeesuudhaan himatame utuu murtii argachuuf waldaa duratti hin dhi'aatin hin
duuneef iddoo inni itti nama haaloo isa ba'u jalaa baqatu ta'u. 13 Magaalaawwan
isin kennitan ja'an kunneenis magaalaawwan itti baqattan isinii ta'u. 14 Yordaanos
gamanaan magaalaawwan sadii, Kana'aan keessaa immoo magaalaawwan sadii,
magaalaawwan itti baqatan godhaa kennaa. 15 Magaalaawwan ja'an kunneen akka
namni tasa nama ajjeese kam iyyuu itti baqatuuf Israa'elootaaf, alagootaa fi saba
isaan gidduu jiraatuuf iddoo itti baqatan ta'u.
16 " 'Namni tokko yoo meeshaa sibiilaatiin nama dha'ee namichi sun du'e, inni
ajjeese sun nama gumaa ti; namichi ajjeese sun ajjeefamuu qaba. 17 Yookaan namni
tokko yoo dhagaa nama ajjeesuu danda'u harkatti qabatee nama dha'ee ajjeese, inni

nama gumaa ti; namichi nama ajjeese sun ajjeefamuu qaba. 18 Yookaan namni
tokko yoo meeshaa mukaa kan nama ajjeesuu danda'u harkatti qabatee nama dha'ee
namichi sun du'e, inni ajjeese sun nama gumaa ti; namichi nama ajjeese sun
ajjeefamuu qaba. 19 Namichi haaloo dhiigaa ba'u sun namicha nama ajjeese sana
haa ajjeesu; inni yommuu argatutti isa haa ajjeesu. 20 Namni tokko yoo jibbaan
nama darbatee lafaan dha'ee yookaan beekaa waa itti darbachuudhaan isa ajjeese,
21 yookaan yoo diinummaadhaan ka'ee harkaan isa dha'ee namichi sun du'e, inni
nama ajjeese sun ajjeefamuu qaba; inni nama gumaa ti. Namichi haaloo dhiigaa
ba'u sun namicha nama ajjeese sana yeroo argatutti isa haa ajjeesu.

22 " 'Garuu inni yoo utuu diinummaa hin qabaatin tasa nama darbatee lafaan
dha'e yookaan utuu hin beekin waan tokko isatti darbatee 23 yookaan utuu isa hin
argin dhagaa isa ajjeesuu danda'u itti gad dhiisee namichi sun du'e, inni waan
diina isaa hin ta'inii fi isa miidhuuf hin yaadiniif 24 waldaan sun akkuma seera
kanneeniitti namicha nama ajjeese sanaa fi isa haaloo dhiigaa ba'u sana gidduutti
murtii haa kennu. 25 Waldaan sun namicha nama ajjeesuudhaan himatame sana
harka namicha haaloo dhiigaa ba'u sanaa jalaa baasee magaalaa inni itti baqatee ture
sanatti deebisee isa haa ergu. Innis hamma lubni ol aanaan zayitii qulqulluudhaan
dibame sun du'utti achuma haa turu.

26 " 'Ta'us yoo namichi nama ajjeese sun daarii magaalaa itti baqate sanaa keessaa
ba'ee 27 namichi haaloo dhiigaa ba'u sun magaalaa sanaan alatti isa argate, namichi
haaloo dhiigaa ba'u sun namicha himatame sana ajjeesuu danda'a; yakka ajjeechaa
sanaattis hin gaafatamu. 28 Namichi nama ajjeese sun hamma lubni ol aanaan sun
du'utti magaalaa itti baqate keessa turuu qaba; inni erga lubichi ol aanaan du'ee
booddee gara qabeenya isaatti deebi'uu danda'a.

29 " 'Isaan kunneenis dhaloota dhufu keessatti lafa isin jiraattan kamitti iyyuu
seeraa fi qajeelfama isiniif haa ta'an.

30 " 'Namni kam iyyuu yoo nama ajjeese namichi sun ragaa dhugaa baatonni
kennaniin ajjeefama. Ta'us namni kam iyyuu dhuga ba'umsa nama tokkoo qofaan
hin ajjeefamin.

31 " 'Namicha nama ajjeesee duuti isaaf malu tokko irraa gumaa lubbuu hin
fudhatinaa. Inni ajjeefamuu qaba.

32 " 'Akka inni utuu lubichi ol aanaan hin du'in dura biyya ofii isaatti deebi'ee achi
jiraatu eeyyamuuf jettanii nama gara magaalaa itti baqataniitti baqate kamiif iyyuu
gumaa hin fudhatinaa.

33 " 'Sababii dhangalaafamuun dhiigaa biyya xureessuuf, isin biyya keessa jiraattan
sana hin xureessinaa; dhiiguma namicha dhiiga dhangalaase sanaatiin malees biyya
dhiigni itti dhangalaafame sanaaf araarri hin buufamu. 34 Biyya isin keessa jirtan
iddoo ani jiraadhu sana hin xureessinaa. Ani WAAQAYYO Israa'eloota gidduu nan
jiraadhaatii.' "

# 36

*Dhaala Intallan Zelofehaad*
*36:1-12 kwf – Lak 27:1-11*

1 Abbootiin maatii ilmaan Gili'aad ilma Maakiir, ilma Minaasee kanneen maati-
iwwan ilmaan Yoosef keessaa dhufan sun fuula Museetii fi fuula hooggantoota
abbootii maatiiwwan saba Israa'el duratti dhi'aatanii dubbatan; 2 akkanas jedhan;
"Akka ati biyyattii dhaala gootee ixaadhaan saba Israa'eliif kennituuf WAAQAYYO
Gooftaa koo ajajeera; akkasumas akka ati dhaala obboleessi keenya Zelofehaad
intallan isaatiif kennitu inni si ajajeera. 3 Garuu yoo isaan ilmaan gosoota
saba Israa'el kaanitti heeruman dhaalli isaanii dhaala abbootii keenyaa keessaa

fuudhamee dhaala gosa isaan itti heerumaniitti dabalama. Yoos dhaala ixaadhaan
nuu qoodame irraa gariin isaa ni fuudhama. [4] Yommuu Waggaan Iyyoobeeliyyuu
kan saba Israa'el dhufutti dhaalli isaanii sun dhaala gosa isaan itti heerumaniitti
dabalama; dhaalli isaaniis dhaala gosa abbootii keenyaa irraa fudhatama."

[5] Kana irratti Museen akkuma WAAQAYYO dubbate sana akkana jedhee saba Israa'el
ajaje: "Wanni gosti ilmaan Yoosef jedhu sirrii dha. [6] Wanni WAAQAYYO waa'ee intallan
Zelofehaad ajaje kanaa dha: Isaan gosa abbaa isaanii qofa keessaa haa ta'u malee
nama jaallatanitti haa heeruman. [7] Sababii tokkoon tokkoon ilmaan Israa'el dhaala
gosa abbaa isaa irraa argatu jabeessee qabatuuf, dhaalli ilmaan Israa'el gosa tokko
irraa gosa kaanitti hin darbin. [8] Akka tokkoon tokkoon ilmaan Israa'el dhaala abbootii
isaa argatuuf, gosa ilmaan Israa'el keessaa intalli dhaala argattu kam iyyuu gosa
abbaa ishee keessaa nama tokkotti heerumuu qabdi. [9] Sababii tokkoon tokkoon gosa
ilmaan Israa'el dhaala ofii isaa jabeessee qabatuuf, dhaalli tokko iyyuu gosa tokko
irraa gosa kaanitti hin darbin."

[10] Intallan Zelofehaad akkuma WAAQAYYO Musee ajaje sana godhan. [11] Intallan
Zelofehaad Mahilaan, Tiirzaan, Hoglaan, Miilkaa fi Nohi ilmaan obboloota abbaa
isaaniitti heeruman. [12] Isaanis maatiiwwan ilmaan Minaasee ilma Yoosef keessatti
waan heerumaniif dhaalli isaanii gosa maatii abbaa isaanii harkatti hafe.

[13] Ajajawwanii fi murtiiwwan WAAQAYYO dirreewwan Mo'aab irratti, Yordaanos
biratti, Yerikoo gamatti karaa Museetiin ilmaan Israa'eliif kenne kanneenii dha.

# Seera
# Keessa Deebii

*Ajaja Akka Israa'eloonni Koreebii Ba'aniif kenname*

1 Dubbiin kun dubbii Museen yeroo isaan gammoojjii gama ba'a Yordaanositti,
Arabbaa fuullee Suufitti argamu sana keessa, Phaaraanii fi Toofel, Laabaan, Haxe-
rootii fi Diizaahaab gidduu turanitti Israa'eloota hundatti dubbatee dha. 2 Kooreebii
karaa Tulluu See'iiriin Qaadesh Barnee ga'uuf guyyoota kudha tokko fudhata.
3 Museenis waggaa afurtamaffaa keessa guyyaa tokkoffaa ji'a kudha tokkoffaatti
waan WAAQAYYO waa'ee isaanii isa ajaje hunda Israa'elootatti hime. 4 Kunis erga inni
Sihoon mootii Amoorotaa kan Heshboon bulchaa ture mo'atee Oogi mootii Baashaan
kan Ashtaaroti bulchaa ture illee Edreyiitti mo'atee booddee dha.
5 Ba'a Yordaanositti biyya Mo'aab keessatti Museen akkana jedhee seera kana ibsuu
jalqabe:

6 WAAQAYYO Waaqni keenya Kooreebitti akkana nuun jedhe; "Isin tulluu kana bira
yeroo dheeraa turtaniirtu. 7 Qubata buqqisaa ka'aatii gara biyya gaaraa Amoorotaatti
deemsa keessan itti fufaa; ergasiis saboota naannoo Arabbaatti argaman hunda
keessa, biyya tulluuwwanii keessa, biyyoota gama dhi'aatiin cina tulluuwwaniitti
argaman keessa, Negeebii fi qarqara galaanaa, biyya Kana'aanotaatii fi Libaanoon
keessa hamma laga Efraaxiis guddichaatti argaman keessa deemaa. 8 Kunoo,
ani biyya kana isiniif kenneera. Biyya WAAQAYYO abbootii keessaniif jechuunis
Abrahaamiif, Yisihaaqiif, Yaaqoobii fi sanyii isaanii warra isaaniin duubaatiif
kennuuf kakate sanatti galaatii dhaalaa."

*Muudamuu Hooggantootaa*

9 Ani yeroo sanatti akkanan isiniin jedhe; "Ani kophaa koo isin baachuu hin
danda'u. 10 WAAQAYYO Waaqni keessan isin baay'iseera; kunoo, isin har'a akkuma
urjiiwwan samii baay'attaniirtu. 11 WAAQAYYO Waaqni abbootii keessanii yeroo
kuma isin haa baay'isu; akkuma abdii kenne sanattis isin haa eebbisu! 12 Ani
garuu akkamitti kophaa koo rakkina keessan, ba'aa keessanii fi wal mormii keessan
baachuu danda'aa? 13 Tokkoo tokkoo gosoota keessanii keessaa namoota ogeeyyii,
hubattootaa fi kabajamoo filadhaa; anis isin irratti bulchitoota isaan nan taasisa."
14 Isinis, "Wanni ati dhi'eessite gaarii dha" jettanii naaf deebiftan.
15 Ani hangafoota gosoota keessanii jechuunis namoota ogeeyyii fi kabajamoo
fudhadhee akka isaan ajajjuuwwan kumaa, ajajjuuwwan dhibbaa, ajajjuuwwan
shantamaatii fi ajajjuuwwan kudhanii ta'anii isin irratti aangoo qabaatan nan
muude. 16 Anis yeroo sanatti akkana jedhee abbootii murtii keessan nan ajaje;
"Mormii obboloota keessan gidduutti ka'u dhaga'aa; yoo wal mormiin ka'u sun
Israa'eloota obboloota gidduutti yookaan nama Israa'el tokkoo fi alagaa tokko
gidduutti ta'e murtii qajeelaa kennaa. 17 Murtii kennuu keessatti nama wal hin
caalchisinaa; guddaas xinnaas wal qixxee dhaga'aa. Sababii murtiin kan Waaqaa
ta'eef eenyuun iyyuu hin sodaatinaa. Waan humna keessanii ol ta'e natti fidaa; anis
nan ilaalaa." 18 Ani yeroo sanatti waan isin gochuu qabdan hunda isin ajajeera.

*Basaastonni Ergamuu isaanii*

19 Nus ergasii akkuma WAAQAYYO Waaqni keenya nu ajajetti Kooreebii kaanee
gammoojjii guddaa fi sodaachisaa isin argitan sana keessa dabarree gara biyya
gaaraa Amoorotaa dhaqne; akkasiinis Qaadesh Barnee geenye. 20 Anis akkana

isiniin jedhe; “Isin biyya gaaraa Amoorotaa kan Waaqayyo Waaqni keenya nuu
kennu geessaniirtu. 21 Kunoo, Waaqayyo Waaqni keessan biyyattii isiniif kenneera.
Dhaqaatii akkuma Waaqayyo Waaqni abbootii keessanii isinitti hime sanatti ishee
dhaalaa; hin sodaatinaa; abdiis hin kutatinaa.”
22 Ergasiis hundi keessan na bira dhuftanii, “Akka isaan biyyattii nuu basaasaniif
duraan dursinee namoota erganna; isaanis waa’ee karaa achi nu geessuutii fi
magaalaawwan nu itti dhufnuu oduu nuu fidu” jettan.
23 Yaadni sunis gaarii natti fakkaate; ani kudha lamaan keessan jechuunis tokkoo
tokkoo gosaa keessaa nama tokko nan filadhe. 24 Isaanis ka’anii biyya gaaraatti ol
ba’anii Sulula Eshkool ga’anii biyyattii basaasan. 25 Ija biyyattii keessaas waa fidanii
dhufanii, “Biyyi Waaqayyo Waaqni keenya nuuf kennu kun gaarii dha” jedhanii nutti
himan.

### *Waaqayyotti Finciluu*

26 Isin garuu dhaquu diddanii ajaja Waaqayyo Waaqa keessaniitti finciltan.
27 Dunkaana keessan keessattis akkana jettanii guungumtan; “Waaqayyo nu jibba;
kanaafuu biyya Gibxiitii nu baasuun isaatuu akka isaan nu balleessaniif harka
Amoorotaatti dabarsee nu kennuuf. 28 Egaa nu eessa dhaquu dandeenya? Ob-
boloonni keenya, ‘Jarri nu caalaa jajjaboo fi hojjaan isaanii dhedheeraa dha;
magaalaawwan isaaniis gurguddaa fi dallaawwan samii ga’aniin marfamaniiru; kana
biratti immoo ilmaan Anaaq argineerra’ jedhanii nu sodaachisan.”
29 Anis akkanan isiniin jedhe; “Hin rifatinaa; isaan hin sodaatinaa. 30 Waaqayyo
Waaqni keessan kan fuula keessan dura deemu kun akkuma ija keessan duratti biyya
Gibxi keessatti isinii godhe sana isiniif ni lola; 31 gammoojjii keessattis akkasuma.
Hamma as geessanittis karaa deemtan hundatti akkamitti akka Waaqayyo Waaqni
keessan akkuma abbaan ilma isaa baatutti isin baate argitaniirtu.”
32 Ta’us isin Waaqayyo Waaqa keessan 33 isa iddoo isin qubattan barbaaduu fi
daandii isin deemuu qabdan isin argisiisuudhaaf jedhee halkan ibiddaan, guyyaa
immoo duumessaan isin dura deemee isin qajeelchaa ture hin amananne.
34 Waaqayyos yommuu waan isin jettan dhaga’etti dheekkamee akkana jedhee
kakate: 35 “Dhaloota hamaa kana keessaa namni tokko iyyuu biyya gaarii ani akka
abbootii keessaniif kennu kakuu gale sana hin argu; 36 Kaaleb ilma Yefunee sana
malee kan argu hin jiru. Inni biyya sana ni arga; sababii inni garaa guutuudhaan
Waaqayyo duukaa bu’eef ani lafa inni miilla isaa irra dhaabbate sana isaa fi sanyii
isaatiif nan kenna.”
37 Sababii keessaniif Waaqayyo natti illee dheekkamee akkana jedhe; “Ati iyyuu
itti hin galtu. 38 Gargaaraan kee Iyyaasuun ilmi Nuuni garuu itti gala. Inni waan
Israa’eloota biyyattii dhaalchisuuf isa jajjabeessi. 39 Daa’imman isin ni booji’aman
jettan, ilmaan keessan kanneen waan tolaa fi hamaa gargar baasanii hin beekne
biyya sanatti ni galu. Ani isaaniifan kenna; isaanis ni dhaalu. 40 Isin garuu
duubatti deebi’aatii daandii gara Galaana Diimaatti geessu qabadhaatii gammoojjiitti
qajeelaa.”
41 Isinis, “Nu Waaqayyotti cubbuu hojjenneerra. Dhaqnee akkuma Waaqayyo
Waaqni keenya nu ajajetti lolla” jettanii deebiftan. Biyya gaaraa dhaquun waan
salphaa isinitti fakkaatee akkasiin tokkoon tokkoon keessan mi’a lolaa qabattanii
kaatan.
42 Waaqayyo garuu, “ ‘Waan ani isin wajjin hin jirreef lolaaf hin ba’inaa. Isin
diinota keessaniin ni mo’atamtu’ jedhii isaanitti himi” naan jedhe.
43 Anis akkasuman isinitti hime; isin garuu na hin dhageenye. Ajaja Waaqayyootti
finciltanii of tuulummaa keessaniin biyya gaaraatti duultan. 44 Amooronni gaarran
irra jiraatan isinitti dhufan; isaanis akkuma tuuta kanniisaatti ba’anii isin gugsan;

See'iirii hamma Hormaatti isin dha'an. 45 Isin deebitanii dhuftanii fuula WAAQAYYOO
duratti boossan; inni garuu boo'icha keessan hin dhageenye; gurra isaas isiniif hin
kennine. 46 Akka yeroo isin achi jiraattaniitti, guyyoonni isin Qaadesh keessa jiraattan
baay'ee dha.

# 2

*Gammoojjii Keessa Jooruu*

1 Ergasii akkuma WAAQAYYO natti himetti, duubatti deebinee karaa Galaana
Diimaatiin gara gammoojjiitti qajeelle; yeroo dheeraadhaafis naannoo biyya gaaraa
See'iir keessa joorre.
2 WAAQAYYOS akkana naan jedhe; 3 "Biyya gaaraa kana naanna'uun isin ga'a; gara
kaabaatti garagalaa. 4 Saba kana akkana jedhii ajaji: 'Isin biyya obboloota keessan
sanyiiwwan Esaawu kanneen See'iir keessa jiraatanii keessa darbitu. Isaan isin
sodaatu; isin garuu jabeessaa of eeggadhaa. 5 Lolaaf isaan hin kakaasinaa; ani lafa
isaanii irraa iddoo isin miilla keessan irra dhaabbattan illee isiniif hin kennuutii. Ani
biyya gaaraa See'iir dhaala godhee Esaawuuf kenneera. 6 Nyaata achii nyaattanii fi
bishaan dhugdaniif maallaqa baaftuuf.' "
7 WAAQAYYO Waaqni keessan waan isin hojjettan hundaan isin eebbiseera. Inni
deemsa dheeraa isin gammoojjii bal'aa kana keessa deemtan irratti isin eegeera.
WAAQAYYO Waaqni keessan waggoota afurtamman kanneen isin wajjin ture; isinis
waan tokko illee hin dhabne.
8 Obboloota keenya ilmaan Esaawu warra See'iir keessa jiraatan bira dabarree
deemne. Nus daandii Arabbaa kan Eelaatii fi Eziyoon Geberii dhufu irraa garagallee
karaa daandii gammoojjii Mo'aab deemne.
9 Ergasiis WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Waan ani lafa Mo'aab irraa isiniif hin
kennineef akkasumaan isaan hin rakkisinaa; waraanaafis isaan hin kakaasinaa. Ani
Aarin dhaala godhee sanyii Looxiif kenneeraatii."
10 Eemiimoonni achi jiraachaa turan; isaanis namoota jajjaboo fi baay'ee dha;
akkuma Anaaqotaas dhedheeroo turan. 11 Isaan kunneenis akkuma Anaaqotaa,
Refaayimoota jedhamanii hedamu turan; Mo'aabonni garuu Eemiimoota jedhuun.
12 Huuronni kunneen See'iir keessa jiraachaa turan; ilmaan Esaawu garuu ari'anii
achii isaan baasan. Isaanis akkuma Israa'eloonni biyya WAAQAYYO dhaala isaaniif
kenne sana keessatti godhan sana Hoorota achii balleessanii ofii isaaniitii biyya jaraa
keessa qubatan.
13 WAAQAYYO, "Ammuma ka'aatii Laga Zered ce'aa" nuun jedhe. Nu laga sana ceene.
14 Yeroo nu Qaadesh Barnee kaanee jalqabee hamma laga Zered ceenutti waggaa
soddomii saddeet fudhate. Akkuma WAAQAYYO isaanitti kakatetti dhaloonni dhiira
waraanaa hundi yeroo sanatti qubata keessaa dhume. 15 Harki WAAQAYYOOS qubata
keessaa isaan balleessuudhaaf isaan irra ture.
16 Yeroo loltoonni hundi saba keessaa dhumanitti, 17 WAAQAYYO akkana naan jedhe;
18 "Ati har'a daarii Mo'aab, Aari keessa dabarta. 19 Yommuu Amoonotatti dhuftanitti
akkasumaan isaan hin rakkisinaa yookaan waraanaaf isaan hin kakaasinaa; ani biyya
isaanii keessaa tokko illee dhaala godhee isiniif hin kennuutii. Ani biyya isaanii sanyii
Looxiif handhuuraa godhee kenneera."
20 Kunis biyya Refaayimoota achi jiraachaa turaniiti jedhamee hedama; Amoononni
garuu Zamzumoota jedhanii isaan waamu ture. 21 Isaanis namoota jajjaboo fi baay'ee
dha; akkuma Anaaqotaa dhedheeroo turan. WAAQAYYOS fuula Amoonota achii
isaan baasanii iddoo isaanii qubatan sanaa duraa isaan barbadeesse. 22 WAAQAYYOS
yommuu Hoorota fuula isaanii duraa balleessetti ilmaan Esaawu kanneen See'iir
keessa jiraachaa turanis akkasuma godhe. Isaanis jara achii baasanii hamma

har'aatti biyya isaanii keessa jiraatan. 23 Awoota gandoota hamma Gaazaatti jiran
keessa jiraatan immoo Kaftooronni Kaftoorii ba'anii dhufan sun balleessanii iddoo
isaanii qubatan.

### *Sihoon Mootiin Heshboon Mo'atame*

24 "Ka'aatii Laga Arnoon ce'aa; ani kunoo, Sihoon Amooricha mootii Heshbooniitii
fi biyya isaa illee dabarsee harka keessanitti isinii kenneeraatii. Waraana itti banaatii
biyya sana qabachuu jalqabaa. 25 Anis naasisuu fi sodaachisuu keessan saboota samii
gad jiran hundatti buusuu hardhuma nan jalqaba. Isaanis oduu waa'ee keessanii
dhaga'anii sababii keessaniif hollatu; naasuunis isaan qabata."

26 Anis akkana jedhee gammoojjii Qidemooti keessaa Sihoon mooticha Heshbooni-
itti ergamoota nagaa nan erge; 27 "Akka nu biyya kee keessaan darbinu nuu eeyyami.
Nu karaa guddicha irraa hin gorru; mirgattis gara bitaattis hin gorru. 28 Waan
nyaannuu fi bishaan dhugnu maallaqaan nutti gurguri. Akka miilla qofaan achi
keessa dabarru nuuf eeyyami; 29 akkuma ilmaan Esaawu kanneen See'iir keessa
jiraatanii fi Mo'aabonni Aari keessa jiraatan nuuf godhan sana atis hamma nu
gara biyya WAAQAYYO Waaqni keenya nuu kennuutti galuuf laga Yordaanos ceenutti
akkasuma nuuf godhi." 30 Sihoon mootiin Heshboon garuu akka nu dabarru nuuf
eeyyamuu dide. WAAQAYYO Waaqni keessan akkuma amma godhe kana dabarsee
harka keessanitti isa kennuuf mataa fi garaa isaa jabeessee tureetii.

31 WAAQAYYOS, "Kunoo, ani Sihoonii fi biyya isaa dabarsee siif kennuu jalqabeera.
Ati biyya isaa dhaaluuf qabachuu jalqabi" naan jedhe.

32 Yommuu Sihoonii fi guutummaan loltoota isaa nu waraanuuf Yaahazitti ba'anitti,
33 WAAQAYYO Waaqni keenya dabarsee harka keenyatti isa nuuf kenne; nus isa,
ilmaan isaatii fi loltoota isaa hunda dhoofne. 34 Yeroo sanattis magaalaawwan isaa
hunda qabannee dhiirota, dubartootaa fi ijoollee, tokkoo tokkoo magaalaawwanii
guutumaan guutuutti barbadeessine. Nama tokko illee hin hambifne. 35 Garuu horii
fi boojuu magaalaawwan qabanne sana keessaa boojine ofii keenyaaf fudhanne.
36 Magaalaa Aro'eer kan qarqara Sulula Arnoonitti argamuu fi magaalaa sululicha
keessatti argamuu jalqabee magaalaa hamma Gili'aaditti argamu keessaa tokko iyyuu
nu ittisuu hin dandeenye. WAAQAYYO Waaqni keenya hunda isaanii dabarsee nuuf
kenne. 37 Garuu akkuma ajaja WAAQAYYO Waaqni keenya nuuf kenne sanaatti
isin gara biyyoota Amoonotaa tokkootti illee yookaan gara biyya qarqara laga
Yaaboq irratti argamuu yookaan biyyoota naannoo magaalaawwan gaarran irratti
argamaniitti hin dabarre.

# 3

### *Oogi Mootiin Baashaan Mo'atamuu Isaa*

1 Ergasiis deebinee karaa Baashaan qabannee ol baane; Oogi mootichi Baashaan
immoo loltoota isaa guutuu wajjin Edreyiitti nuun wal loluuf gad ba'e. 2 WAAQAYYOS,
"Waan ani isa, guutummaa loltoota isaatii fi biyya isaa illee dabarsee harka keetti
kenneef isa hin sodaatin. Akkuma Sihoon mootii Amoorotaa kan Heshboon bulchaa
ture sana goote isa illee godhi" naan jedhe.

3 WAAQAYYO Waaqni keenya Oogi mootii Baashaanii fi guutummaa loltoota isaa
dabarsee harka keenyatti kenne. Nus utuu homaa hin hambisin isaan balleessine.
4 Yeroo sanattis magaalaawwan isaa hunda qabanne. Magaalaawwan jaatama
mootummaa Oogi mooticha Baashaan kanneen kutaa biyya Argobbi jala turan
keessaa kan nu hin qabatin tokko iyyuu hin jiru. 5 Magaalaawwan kunneen
hundi dallaa dhagaa dhedheeroo, karraa fi danqaraa qabu turan; akkasumas
magaalaawwan dallaa hin qabne baay'eetu ture. 6 Nus akkuma Sihoon mootii

Heshboon goone sana dhiirota, dubartootaa fi ijoollee tokkoo tokkoo magaalaawwanii
guutumaan guutuutti barbadeessine. 7 Horii fi boojuu magaalaawwan isaanii keessaa
saamne hunda garuu ofii keenyaaf fudhannee galle.
8 Yeroo sanatti mootota Amoorotaa lamaan kana irraa karaa ba'a Yordaanos
biyya Sulula Arnooniitii jalqabee hamma Tulluu Hermoonitti jiruu fudhanne.
9 Siidoononnis Hermoon kana Siiriyoon jedhanii waamu; Amooronni immoo Seniiri
jedhanii waamu. 10 Nus magaalaawwan dirree irratti argaman hunda, Gili'aad
hunda, Baashaanii hamma Salkaa fi Edreyiitti jiru hunda, magaalaawwan moo-
tummaa Oogi kanneen Baashaan keessatti argaman hunda qabanne. 11 Gosa
Refaayimootaa keessaa Oogi mootii Baashaan qofatu hafe. Kunoo sireen isaa
sibiila irraa hojjetamee dalga dheerinni isaa dhundhuma sagal bal'inni isaa immoo
dhundhuma afur ture. Sireen kunis amma iyyuu Rabbaa Amoonotaa keessatti
argama.

### *Hiramuu Biyyattii*

12 Ani biyya yeroo sanatti qabanne keessaa biyya karaa Kaaba Aro'eeriitiin
qarqara Sulula Arnoon jirutti dabalee walakkaa biyya gaaraa Gili'aad magaalaawwan
isaa wajjin gosa Ruubeenii fi Gaadiif kenne. 13 Biyya Gili'aad kan hafee fi
guutummaa Baashaan jechuunis mootummaa Oogi walakkaa gosa Minaaseetiifan
kenne. Guutummaan kutaa Argobbi kan Baashaan keessaa sun biyya Refaayimootaa
jedhamee beekama ture. 14 Yaa'iir ilmi Minaasee immoo guutummaa kutaa Argobbi
kan hamma daarii Geshuurotaatii fi Ma'akaatotaatti jiru fudhate; biyyi sunis maqaa
isaatiin moggaafame; kanaafuu Baashaan hamma har'aatti Haaboot Yaa'iir jedhama.
15 Gili'aad immoo Maakiiriifan kenne. 16 Walakkaa sulula isaa garuu daangaa
gochuudhaan Gili'aadii jalqabee hamma Sulula Arnoonitti, achii immoo bulchiinsa
daangaa Amoonotaa kan hamma laga Yaaboqitti jiru gosa Ruubeenii fi Gaadiifan
kenne. 17 Daangaan isaa karaa lixaatiin Yordaanos isa Arabbaa keessatti argamu
sanaa dha; kunis Kinereetii jalqabee hamma Galaana Arabbaa kan Galaana soogiddaa
jedhamuutti diriiree tabba Phisgaatii gaditti argama.
18 Anis yeroo sanatti akkana jedheen isin ajaje: "Waaqayyo Waaqni keessan akka
dhaaltaniif lafa kana isiniif kenneera. Ta'us namoonni jajjaboon keessan hundi
waraanaaf hidhatanii obboloota keessan Israa'eloota dura gamatti ce'uu qabdu.
19 Garuu niitonni keessan, ijoolleen keessanii fi horiin keessan magaalaawwan ani
isiniif kenne keessa haa turan; ani akka isin horii baay'ee qabdan beekaatii. 20 Kunis
hamma Waaqayyo akkuma isin boqochiise sana obboloota keessan boqochiisee
isaaniinis lafa Waaqayyo Waaqni keessan Yordaanosiin gamatti isaaniif kennu sana
dhaalanitti. Sana booddee tokkoon tokkoon keessan gara biyya ani dhaala isiniif
kenneetti ni deebitu."

### *Museen Akka Yordaanos Hin Ceene Dhowwame*

21 Anis yeroo sanatti akkana jedhee Iyyaasuu ajaje: "Ati waan Waaqayyo Waaqni
kee mootota kanneen lamaan godhe hunda ija keetiin argiteerta. Waaqayyo,
mootummoota isin itti yaatan hundas akkasuma ni godha. 22 Isin isaan hin
sodaatinaa; Waaqayyo Waaqni keessan mataan isaa isiniif lolaatii."
23 Yeroo sanatti ani akkana jedhee Waaqayyoon nan kadhadhe; 24 "Yaa Waaqayyoo
Gooftaa, ati guddina keetii fi harka kee jabaa sana garbicha keetti argisiisuu
jalqabdeerta. Silaa kan hojii jabaa akkasii kan ati hojjettu hojjechuu danda'u Waaqa
kamtu samii irra yookaan lafa irra jira? 25 Akka ani ce'ee biyyattii gaarii Yordaanos
gama jirtu jechuunis biyya gaaraa gaarii sanaa fi Libaanoon argu naa eeyyami."
26 Waaqayyo garuu waan sababii keessaniif natti dheekkameef, na dhaga'uu dide.
Waaqayyo akkana naan jedhe; "Kun ni ga'a; lammata waa'ee waan kanaa natti hin
dubbatin. 27 Fiixee Phisgaatti ol ba'iitii gara lixaa fi kaabaa, gara kibbaa fi ba'aa ilaali.

Ati waan Yordaanos hin ceeneef biyyattii ijuma keetiin ilaali. 28 Garuu akka inni saba
kana qajeelchee ceesisee akka isaan biyya ati ilaaltu kana dhaalan godhuuf Iyyaasuu
ajaji; isa jajjabeessi; cimsis." 29 Nu sulula Beet Phe'oor bira jiru keessa turre.

# 4

### *Seeraaf Ajajamuu*

1 Yaa Israa'el, ajajawwanii fi seerawwan ani isin barsiisu dhaga'aa. Akka jiraattanii
fi dhaqxanii biyya WAAQAYYO Waaqni abbootii keessanii isiniif kennu dhaaltaniifis
isaan duukaa bu'aa. 2 Ajaja WAAQAYYO Waaqa keessanii kan ani isiniif kennu eegaa
malee waan tokko illee itti hin dabalinaa yookaan irraa hin hir'isinaa.
3 Isin waan WAAQAYYO Ba'aal Phe'ooritti hojjete ijuma keessaniin argitaniirtu.
WAAQAYYO Waaqni keessan warra isin gidduudhaa Ba'aal Phe'oor duukaa bu'an
hunda balleesseera; 4 isin warri WAAQAYYO Waaqa keessan qabattan hundi garuu
hamma har'aatti lubbuudhaan jiraattan.
5 Kunoo, akka isin biyya dhaaluuf itti galuuf jirtanitti isaan duukaa buutaniif ani
akkuma WAAQAYYO Waaqni koo na ajajetti ajajawwanii fi seerawwan isin barsiiseera.
6 Kunis akka saboonni waa'ee ajajawwan kanaa hunda dhaga'anii, "Dhugumaan
sabni guddaan kun saba ogeessaa fi hubataa dha" jedhaniif ogummaa fi hubannaa
keessan sabootatti argisiisaatii akka gaariitti isaan eegaa. 7 Sabni guddaan akka yeroo
nu WAAQAYYO Waaqa keenya waammannutti nutti dhi'aatu sana waaqonni isaanii itti
dhi'aatan kan biraa kami? 8 Sabni guddaan ajajawwanii fi seera qajeelaa akka seera
ani har'a fuula keessan dura kaa'u kanaa qabu biraa kami?
9 Akka waan iji kee arge hin daganneef yookaan akka hamma ati lubbuudhaan
jirtutti garaa keetii hin badneef ofuma eeggadhu; jabaadhuu of eeggadhu. Waan
kanas ijoollee keetii fi ijoollee ijoollee ijoollee keetii barsiisi. 10 Gaafa isin Kooreebitti
fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii dura dhaabattan, yeroo inni, "Akka isaan hamma
lubbuudhaan lafa irra jiraatan hundatti na sodaachuu baratanii ijoollee ijoollee
isaanii illee na sodaachuu barsiisaniif dubbii koo haa dhaga'aniitii namoota walitti
qabi" naan jedhe sana yaadadhaa. 11 Isin utumaa tulluun sun boba'aa ibidda hamma
wiirtuu samiitti ol ba'ee duumessa gurraachaa fi dukkana limixiidhaan haguugamee
jiruu itti dhi'aattanii miilla tulluu sanaa jala dhadhaabattan. 12 Ergasiis WAAQAYYO
ibidda keessaa isinitti dubbate. Isinis sagalee dubbii sanaa malee bifa tokko illee hin
argine; sagalee tokko qofatu ture. 13 Innis kakuu isaa jechuunis Ajajawwan Kurnan
akka isin isaan duukaa buutaniif isin ajaje sana isiniif labse. Ergasii immoo gabatee
dhagaa lama irratti isaan barreesse. 14 WAAQAYYOs yeroo sanatti akka ani ajajawwanii
fi seerawwan biyya isin Yordaanos ceetanii dhaaltan sana keessatti duukaa bu'uu
qabdan isin barsiisu na ajaje.

### *Waaqota Tolfamoo Waaqeffachuun Dhowwaa dha*

15 Gaafa WAAQAYYO Kooreeb irratti ibidda keessaa isinitti dubbatetti isin bifa tokko
illee hin argine. Kanaafuu jabeessaa of eeggadhaa; 16 kunis akka isin hin xuroofne,
akka Waaqa tolfamaa bifa dhiiraatiin yookaan dubartiitiin soofame kam iyyuu ofii
keessaniif hin tolfanne 17 yookaan horii lafa irra jiraatu yookaan simbira samii
keessa barrisu kam iyyuu 18 yookaan uumama lafa irra munyuuqu kam iyyuu
yookaan qurxummii lafa jala bishaan keessa jiraatu kam iyyuu hin tolfanneef. 19 Ati
yommuu samii ol ilaaltee aduu, ji'a, urjiiwwanii fi raayyaa samii hunda argitutti
gowwoomfamtee fuula waan WAAQAYYO Waaqni kee saboota samiidhaa gadii hundaaf
qoodee kennee duratti gad jettee hin sagadin. 20 WAAQAYYO garuu akka isin akkuma
amma jirtan kana dhaala isaa taataniif badaa sibiila itti baqsan jechuunis biyya
Gibxiitii baasee isin fide.

21 WAAQAYYOs sababii keessaniif natti dheekkamee akka ani laga Yordaanos ce'ee
biyya gaarii kan WAAQAYYO Waaqni keessan dhaala godhee isiniif kennu sana hin
seenne kakate. 22 Ani biyyuma kanatti nan du'a; ani Yordaanosin hin ce'u; isin garuu
ceetanii biyya gaarii sana dhaaluuf jirtu. 23 Akka kakuu WAAQAYYO Waaqni keessan
isin wajjin gale sana hin daganne of eeggadhaa; waaqota tolfamoo WAAQAYYO Waaqni
keessan isin dhowwe bifa kamiin iyyuu ofii keessaniif hin tolfatinaa. 24 WAAQAYYO
Waaqni keessan ibidda gubee balleessuudhaatii; Waaqa hinaafudhas.
25 Isin erga ijoollee fi ijoollee ijoollee keessanii hortanii biyya sana keessa bara
dheeraa jiraattanii booddee, yoo xurooftanii fakkii waaqota tolfamoo bifa kamii
iyyuu tolchitanii fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii duratti waan hamaa hojjettanii
dheekkamsaaf isa kakaaftan, 26 akka isin biyya Yordaanos ceetanii dhaaltan irraa
ariitiidhaan dhabamtan ani guyyaa har'aa samii fi lafa dhugaa baatota godhee isinitti
nan waama. Iddoo sana yeroo dheeraa hin jiraattan; isin guutumaan guutuutti
barbadooftu. 27 WAAQAYYOs saboota keessa isin faffacaasa; saboota warra WAAQAYYO
isaan gidduutti isin faffacaase keessattis muraasa taatanii haftu. 28 Isinis achitti
waaqota harka namaatiin mukaa fi dhagaa irraa hojjetaman kanneen arguu yookaan
dhaga'uu yookaan nyaachuu yookaan fuunfachuu hin dandeenye waaqeffattu.
29 Garuu yoo achittis WAAQAYYO Waaqa keessan barbaaddan ni argattu; isin yoo garaa
fi yaada keessan guutuudhaan isa barbaaddan ni argattu. 30 Yommuu dhiphattee
wanni kun hundi sitti dhufutti, baroota dhufuuf jiran keessa gara WAAQAYYO Waaqa
keetiitti ni deebita; isaafis ni ajajamta. 31 WAAQAYYO Waaqni kee Waaqa araaraa ti;
inni si hin gatu yookaan si hin balleessu yookaan kakuu abbootii keetiif kakate sana
hin dagatu.

### *WAAQAYYO Waaqa*

32 Waa'ee baroota durii kan utuu ati hin dhalatin dura gaafa Waaqayyo lafa irratti
nama uumee jalqabee ture sana iyyaafadhaa; daarii samii tokko irraa hamma daarii
kaaniitti iyyaafadhaa. Wanni guddaan akkanaa takkumaa uumamee yookaan wanni
akkanaa takkumaa dhaga'amee beekaa? 33 Sabni akka keessan sagalee Waaqaa
kan ibidda keessaa dubbatu dhaga'ee lubbuudhaan jiraate kan biraa takkumaa
argameeraa? 34 Waaqni kam iyyuu takkumaa akka WAAQAYYO Waaqni keessan utuma
iji keessan arguu biyya Gibxitti isinii godhe sana saba tokko saba biraa keessaa
qorumsaan, mallattoo fi dinqiidhaan, waraanaan, harka jabaa fi irree diriirfameen,
yookaan hojii guddaa fi sodaachisaadhaan baasee kan ofii isaa godhachuu yaale jira?
35 Isinis WAAQAYYO Waaqa ta'uu isaa akka beektaniif wantoonni kunneen isinitti
argisiifaman; isa malees kan biraa hin jiru. 36 Inni si adabachuuf jedhee samiidhaa
sagalee isaa si dhageessise. Lafa irratti ibidda isaa guddicha sitti argisiisee atis ibidda
keessaa dubbii isaa dhageesse. 37 Inni waan abbootii kee jaallatee isaan booddees
sanyiiwwan isaanii filateef ofii isaatiin humna isaa guddaadhaan biyya Gibxiitii
baasee isin fide; 38 kanas akka har'a ta'ee jiru kana saboota si caalaa gurguddaa
fi jajjaboo si duraa ari'ee biyya isaanii dhaala godhee siif kennuuf itti si fide.
39 Har'a akka WAAQAYYO ol samii gubbaatti, gad lafa irrattis Waaqa ta'e beeki; garaa
keettis qabadhu. Kan biraas hin jiru. 40 Akka sii fi ijoollee kee warra si'iin duubaatiif
toluu fi akka biyya WAAQAYYO Waaqni kee bara baraan siif kennutti umuriin kee
dheeratuuf qajeelchawwanii fi ajajawwan isaa kanneen ani har'a siif kennu eegi.

### *Magaalaawwan Itti Kooluu Galan*
*4:41-43 kwi – Lak 35:6-34; KeD 19:1-14; Iya 20:1-9*

41 Yeroo sanatti Museen magaalaawwan ba'a Yordaanos sadii addaan baafate;
42 kunis lafa namni nama ajjeese yoo utuu itti hin yaadin nama ajjeese itti baqatuu
dha. Innis magaalaawwan kanneen keessaa tokkotti baqatee lubbuu isaa oolfachuu

danda'a. 43 Magaalaawwan sunis kanneen turan: Bezer kan gammoojjii keessa tabba
irra jirtu gosa Ruubeeniif, Raamooti kan Gili'aaditti argamtu gosa Gaadiif, Goolaan
kan Baashaanitti argamtu immoo gosa Minaaseef.

*Ibsa Seericha Irratti Kenname*

44 Kun Seera Museen Israa'eloota dura kaa'ee dha. 45 Qajeelchi, ajajnii fi seerri
Museen yommuu isaan biyya Gibxii ba'anitti Israa'elootaaf kenne kanaa dha; 46 kunis
yeroo isaan Sulula Beet Phe'oor biyya ba'a Yordaanositti argamtu keessa turanitti
ta'e; biyyi kunis biyya Sihoon mootii Amoorotaa kan Heshboon keessa jiraachaa
turee Musee fi Israa'eloonni yeroo biyya Gibxii ba'anitti isa mo'atanii ti. 47 Isaanis
biyya isaatii fi biyya Oogi mooticha Baashaan jechuunis biyyoota mootota Amoorii
lamaan ba'a Yordaanositti argaman dhaala godhanii fudhatan. 48 Biyyi kunis Aro'eer
kan daarii Sulula Arnoonii jalqabee hamma Gaara Sihoonitti jechuunis hamma
Hermooniitti bal'ata; 49 innis Arabbaa ba'a Yordaanosii hamma galaana Arabbaatti
jiru kan tabba Phisgaatii gaditti argamu hunda dabalata.

# 5

*Ajajawwan Kurnan*
*5:6-21 kwf – Bau 20:1-17*

1 Museen Israa'eloota hunda walitti qabee akkana isaaniin jedhe:

Yaa Israa'el ajajawwanii fi seerawwan ani har'a utuma isin dhageessanuu labsu
kana dhaga'aa. Baradhaatii jabeessaa isaan duukaa bu'aa. 2 WAAQAYYO Waaqni
keenya Kooreebitti nu wajjin kakuu gale. 3 WAAQAYYO kakuu kana nu wajjin, nu warra
har'a lubbuudhaan as jiraannu hunda wajjin gale malee abbootii keenya wajjin hin
galle. 4 WAAQAYYO tulluu irratti ibidda keessaa ifaan ifatti isinitti dubbate. 5 Yeroo
sanatti waan isin ibidda sodaattanii tulluutti ol hin ba'iniif ani dubbii WAAQAYYOO
isinitti himuuf isinii fi WAAQAYYO gidduun dhaabadhe.

Innis akkana jedhe:

6 "Ani WAAQAYYO Waaqa kee kan Gibxii, biyya garbummaatii si baasee dha.

7 "Ati ana malee waaqota biraa tokko illee hin qabaatin.

8 Ati bifa waan ol samii gubbaa yookaan gad lafa irra yookaan bishaan lafa jalaa
keessa jiru waaqa tolfamaa kamiitiin iyyuu ofii keetiif hin tolfatin. 9 Isaaniif
hin sagadin yookaan isaan hin waaqeffatin; ani WAAQAYYO Waaqni kee, Waaqa
hinaafu kan ijoollee warra na jibbanii sababii cubbuu abbootiitiif jedhee hamma
dhaloota sadii fi afuriitti adabee 10 warra na jaallatanii ajajawwan koo eegan
immoo hamma dhaloota kumaatti jaallatuu dha.

11 Maqaa WAAQAYYO Waaqa keetii akkasumaan hin dha'in; WAAQAYYO warra
akkuma argan maqaa isaa dha'an utuu hin adabin hin dhiisuutii.

12 Akkuma WAAQAYYO Waaqni kee si ajajetti guyyaa Sanbataa qulqulleessuudhaan
eegi. 13 Guyyoota ja'a hojjedhu; hojii kee hundas hojjetadhu; 14 guyyaan
torbaffaan garuu sanbata WAAQAYYO Waaqa keetii ti. Gaafas hojii tokko illee hin
hojjetin; ati yookaan ilmi kee yookaan intalli kee yookaan hojjetaan kee yookaan
xomboreen kee yookaan qotiyyoon kee yookaan harreen kee yookaan horiin kee
kam iyyuu yookaan alagaan magaalaa kee keessa jiraatu tokko iyyuu homaa hin
hojjetin. Hojjetaan keetii fi hojjettuun kee akkuma kee haa boqotan. 15 Akka atis
biyya Gibxitti garba turtee fi ergasii immoo WAAQAYYO Waaqni kee harka jabaa
fi irree diriirfameen achii si baase yaadadhu. Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni kee
akka ati Sanbata eegdu si ajaje.

16 Akka biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu keessa bara dheeraa jiraattuu fi akka sitti toluuf akkuma WAAQAYYO Waaqni kee si ajajetti abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina kenni.
17 Hin ajjeesin.
18 Hin ejjin.
19 Hin hatin.
20 Ollaa keetti sobaan dhugaa hin ba'in.
21 Niitii namaa hin hawwin. Mana namaa yookaan lafa qotiisaa yookaan hojjetaa yookaan xomboree isaa, qotiyyoo isaa yookaan harree isaa, yookaan waan namaa kam iyyuu hin hawwin."

22 Ajajawwan WAAQAYYO tulluu gubbaatti, ibidda, duumessaa fi dukkana limixii
keessa waldaa keessan guutuutti sagalee guddaadhaan labse kanneenii dha; wanni
inni itti dabales hin jiru. Ergasiis inni ajajawwan sana gabateewwan dhagaa lama
irratti barreessee natti kenne.
23 Yeroo isin utuu tulluun sun ibiddaan boba'uu dukkana keessaa sagalee sana
dhageessanitti, hooggantoonni gosoota keessaniitii fi maanguddoonni keessan hundi
gara koo dhufan. 24 Isinis akkana jettan; "Kunoo WAAQAYYO Waaqni keenya ulfinaa fi
guddina isaa nu argisiiseera; ibidda keessaas sagalee isaa nu dhageessiseera. Nu
har'a akka namni yoo Waaqni isatti dubbate illee jiraachuu danda'u argineerra.
25 Amma garuu nu maaliif duuna? Nu yoo sagalee WAAQAYYO Waaqa keenyaa
deebinee dhageenye ni duuna; ibiddii guddaan kunis nu barbadeessa. 26 Nama du'aa
hin oolle hunda keessaa eenyutu takkumaa sagalee Waaqa jiraataa ibidda keessaa
dubbatuu dhaga'ee akka nu dhageenyee jiraanne kana utuu hin du'in hafe? 27 Itti
dhi'aadhuutii waan WAAQAYYO Waaqni keenya jedhu hunda dhaga'i. Ergasii immoo
waan WAAQAYYO Waaqni keenya sitti himu hunda nutti himi. Nu ni dhaggeeffannaa;
ni ajajamnas."
28 WAAQAYYO yommuu isin natti dubbattanitti isin dhaga'eera; WAAQAYYOS akkana
naan jedhe; "Ani waan namoonni kunneen siin jedhan dhaga'eera. Wanni isaan
jedhan hundinuu gaarii dha. 29 Akka hamma bara baraatti isaanii fi ijoollee isaaniitti
toluuf isaan utuu yeroo hunda garaa na sodaatee ajaja koo hunda eegu qabaatanii
akkam gaarii ture!
30 "Dhaqiitii, 'Dunkaana keessanitti deebi'aa' jedhiin. 31 Ati garuu asuma na bira
turi. Ani ajajawwan, qajeelfamawwanii fi seerawwan ati akka isaan biyya ani dhaala
godhee isaaniif kennu keessatti eeganiif isaan barsiiftu hunda sitti nan hima."
32 Kanaafuu waan WAAQAYYO Waaqni keessan isin ajaje of eeggannaadhaan eegaa;
mirgatti yookaan bitaatti hin gorinaa. 33 Akka biyya dhaaltan keessa jiraachuu
dandeessan, akka isinitti tolee umurii dheeraa illee qabaattaniif karaa WAAQAYYO
Waaqni keessan isin ajaje hunda irra deemaa.

# 6

### *WAAQAYYO Waaqa Kee Jaalladhu*

1 Ajajawwan, qajeelfamawwanii fi seerri isin yeroo biyya Yordaanos ceetanii
dhaaltanitti eegdan kanneen akka ani isin barsiisuuf WAAQAYYO Waaqni keessan
na ajaje kanneenii dha; 2 kunis akka bara jireenya keessanii guutuu isin, ijoolleen
keessanii fi ijoolleen ijoollee keessanii qajeelfamawwanii fi ajajawwan ani isiniif
kennu hunda eeguudhaan WAAQAYYO Waaqa keessan sodaattanii umuriin keessan
dheeratuuf. 3 Yaa Israa'el dhaga'i; akka biyya aannanii fi dammi keessaa burqu sana
keessatti akkuma WAAQAYYO Waaqni abbootii keetii si abdachiise sanatti sitti tolee
guddaa baay'attuuf ajajami.

4 Yaa Israa'el dhaga'i; WAAQAYYO Waaqni keenya WAAQAYYO tokkicha. 5 Garaa kee
guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaan WAAQAYYO Waaqa
kee jaalladhu. 6 Ajajawwan ani har'a siif kennu kunneen garaa kee keessa haa
jiraatan. 7 Ijoollee kees cimsii barsiisi. Yeroo mana teessu, yeroo karaa deemtu, yeroo
ciiftuu fi yeroo dammaqxutti waa'ee isaanii odeessi. 8 Akka mallattootti harkatti
hidhadhu; adda kee irrattis maxxanfadhu. 9 Michichilawwan balbala mana keetiitii
fi karrawwan kee irrattis isaan barreessi.
10 Yeroo WAAQAYYO Waaqni kee biyya magaalaawwan gurguddaa fi babbareedoo
kanneen ati hin ijaarin siif kennuuf gara biyya abbootii kee jechuunis Abrahaamiif,
Yisihaaqii fi Yaaqoobiif kakate sanatti si galchutti, 11 yeroo manneen mi'a gosa
hundaa kan ati hin guutatiniin guutame, boolla bishaanii kan ati hin qotin, mukkeen
wayiniitii fi ejersaa kanneen ati hin dhaabin siif kennamanii atis nyaattee quuftutti,
12 ati akka WAAQAYYO biyya Gibxi, biyya garbummaatii si baase sana hin daganne of
eeggadhu.
13 WAAQAYYOON Waaqa kee sodaadhu; isuma qofa tajaajili; maqaa isaatiinis
kakadhu. 14 Waaqota biraa jechuunis waaqota saboota naannoo keetii duukaa hin
bu'in; 15 sababii WAAQAYYO Waaqni kee inni gidduu kee jiraatu sun Waaqa hinaafu
ta'eef, aariin isaa sirratti boba'ee lafa irraa si balleessa. 16 Akka Maasaah keessatti
gootan sana WAAQAYYO Waaqa keessan hin qorinaa. 17 Ajajawwan WAAQAYYO Waaqa
keessanii, qajeelfamawwanii fi seerawwan inni isiniif kenne akka gaariitti eegaa.
18 Akka sitti toluu fi akka biyya gaarii WAAQAYYO abbootii keetiif kennuuf kakate
sana seentee dhaaltuuf waan fuula WAAQAYYOO duratti qajeelaa fi gaarii ta'e hojjedhu.
19 Ati akkuma WAAQAYYO jedhe sanatti diinota kee hunda fuula kee duraa ni baafta.
20 Gara fuul-duraatti yoo ilmi kee, "Hiikkaan qajeelchawwanii, ajajawwaniitii fi
seerawwan WAAQAYYO Waaqni keenya isin ajaje kanaa maali?" jedhee si gaafate,
21 akkana jedhii itti himi; "Nu Gibxitti garboota Fara'oon turre; WAAQAYYO garuu
harka jabaadhaan Gibxii baasee nu fide. 22 WAAQAYYO fuuluma keenya duratti biyya
Gibxitti, Fara'oonii fi namoota mana isaa keessa jiraatan hunda irratti mallattoo fi
dinqiiwwan sodaachisaa fi gurguddaa hojjete. 23 Inni garuu biyya abbootii keenyaaf
kakuudhaan waadaa gale sanatti nu galchee nu dhaalchisuuf jedhee achii baasee
nu fide. 24 WAAQAYYO akka nu akkuma amma jirru kanatti yeroo hunda nutti tolee
jiraannuuf akka nu ajajawwan kanneen hunda eegnuu fi akka WAAQAYYO Waaqa
keenya sodaannu nu ajaje. 25 Nu yoo akkuma inni nu ajajetti seera kana hunda
fuula WAAQAYYO Waaqa keenyaa duratti of eeggannaadhaan eegne, sun qajeelummaa
keenya ta'a."

# 7

*Saboota Ormaa Ari'anii Baasuu*

1 Yommuu WAAQAYYO Waaqni kee biyya ati dhaaluuf itti galaa jirtu kanatti si fidee
saboota hedduu jechuunis Heetota, Girgaashota, Amoorota, Kana'aanota, Feerzota,
Hiiwotaa fi Yebuusota jechuunis saboota isin caalaa gurguddaa fi jajjaboo torba
fuula kee duraa ari'ee baasutti, 2 yommuu WAAQAYYO Waaqni kee dabarsee isaan siif
kennee atis isaan mo'attutti, guutumaan guutuutti isaan barbadeessi. Isaan wajjin
kakuu tokko illee hin seenin; garaas isaanii hin laafin. 3 Isaanitti hin soddoomin;
ilmaan isaaniitiif intallan kee hin kennin yookaan intallan isaanii ilmaan keetiif
hin fidin; 4 sababiin isaas isaan ilmaan kee na duukaa bu'uu irraa deebisanii akka
isaan waaqota biraa tajaajilan godhu; dheekkamsi WAAQAYYOOS sitti boba'ee dafee
si balleessa. 5 Wanni isin isaan gochuu qabdan kana: iddoowwan aarsaa isaanii
diigaa; siidaawwan waaqeffannaa isaanii caccabsaa; utubaawwan Aasheeraa isaaniis
jijjigsaa; waaqota isaaniis ibiddaan gubbaa. 6 Ati saba WAAQAYYO Waaqa keetiif

qulqulluu taatee dha. WAAQAYYO Waaqni kee akka ati saba isaatii fi qabeenya isaa
jaallatamaa taatuuf jedhee saboota lafa irra jiraatan hunda keessaa si filate.
7 Wanni WAAQAYYO isin jaallatee isin filateef waan isin saboota kaan caalaa baay'ee
taataniif miti; isin saboota hunda caalaa xinnoo turtan. 8 Garuu wanni WAAQAYYO
harka jabaadhaan isin baasee biyya garbummaatii fi irree Fara'oon mooticha Gibxi
jalaa isin fureef sababii isin jaallatee kakuu abbootii keessan wajjin gale sana eegeef.
9 Kanaafuu akka WAAQAYYO Waaqni kee Waaqa ta'e beeki; inni Waaqa amanamaa
warra isa jaallatanii ajaja isaas eeganiif kakuu fi araara isaa hamma dhaloota
kumaatti eeguu dha. 10 Warra isa jibban garuu,
balleessuuf gatii isaanii mataa isaaniitti deebisa;
nama isa jibbus gatii isaa mataa isaatti deebisuudhaaf
lafa irra hin harkifatu.
11 Kanaafuu ati ajajawwan, qajeelchawwanii fi seerawwan ani har'a siif kennu
kanneen eegi.
12 Yoo ati seerawwan kanneeniif xiyyeeffannaa kennitee of eeggannaadhaan
duukaa buute, WAAQAYYO Waaqni kee akkuma abbootii keetiif kakate sana kakuu fi
araara isaa siifis ni eega. 13 Inni si jaallata; si eebbisa; si baay'isas. Biyya siif kennuuf
abbootii keetiif kakuu gale keessatti ija garaa keetii, oomisha lafa keetii jechuunis mid-
haan, wayinii haaraa fi zayitii, jabbiiwwan loon keetii, xobbaallaawwan bushaayee
keetii siif eebbisa. 14 Ati saboota kam iyyuu caalaa ni eebbifamta; dhiira yookaan
dubartii kee keessaa tokko illee ijoollee hin dhabu yookaan loon kee keessaa tokko
illee hin maseenu. 15 WAAQAYYO dhukkuba hunda sirraa fuudha. Inni dhukkuboota
suukaneessaa ati biyya Gibxitti argite sana warra si jibbanitti fida malee sitti hin fidu.
16 Ati saboota WAAQAYYO Waaqni kee dabarsee sitti kennu hunda balleessuu qabda.
Ati isaaniif garaa hin laafin; kuni kiyyoo sitti ta'aatii waaqota isaanii hin waaqeffatin.
17 Ati, "Saboonni kunneen nu caalaa jajjaboo dha; nu akkamitti isaan baafna?"
jettee yaadda ta'a. 18 Garuu ati isaan hin sodaatin; waan WAAQAYYO Waaqni kee
Fara'oonii fi guutummaa Gibxitti hojjete sana yaadadhu. 19 Ati qormaatawwan
gurguddaa, mallattoowwanii fi dinqiiwwan, harka jabaa fi irree diriirfame kan
WAAQAYYO Waaqni kee ittiin si baase sana ijuma keetiin argiteerta. WAAQAYYO Waaqni
kee saboota ati amma sodaattu hundas akkasuma godha. 20 Kana caalaa iyyuu
WAAQAYYO Waaqni kee hamma warri lubbuudhaan hafanii si duraa dhokatan iyyuu
barbadaa'anitti gidduu isaaniitti sonsa ni erga. 21 Sababii WAAQAYYO Waaqni kee
inni gidduu kee jiru sun Waaqa guddaa fi sodaachisaa ta'eef isaan hin sodaatin.
22 WAAQAYYO Waaqni kee saboota sana xinnoo xinnoodhaan fuula kee duraa ni
baasa; akka bineensonni bosonaa naannoo keetti hin baay'anneef yeruma tokkotti
isaan balleesuun siif hin eeyyamamu. 23 WAAQAYYO Waaqni kee garuu hamma
isaan badanitti isaan raatessuudhaan dabarsee harka keetti isaan kenna. 24 Mootota
isaaniis dabarsee sitti kenna; atis maqaa isaanii samii jalaa ni balleessita. Hamma ati
isaan balleessitutti namni fuula kee dura dhaabachuu danda'u tokko iyyuu hin jiru.
25 Fakkii waaqota isaanii ibiddaan gubi; meetii fi warqee isaan irra jiru hin hawwin;
ofii keetiifis hin fudhatin; yoo kanaa achii inni sababii fuula WAAQAYYO Waaqa keetii
duratti jibbisiisaa ta'eef kiyyoo sitti ta'a. 26 Waan jibbisiisaa gara mana keetiitti hin
galchin; yoo kanaa achii atis akkuma isaa badiisaaf addaan baafamta. Waan inni
badiisaaf addaan baafameef ati guutumaan guutuutti isa jibbi; balfis.

# 8

### *WAAQAYYOON Hin Dagatin*

1 Isin akka lubbuun jiraattan, akka baay'attanii fi akka biyya WAAQAYYO kaku-
udhaan abbootii keessan abdachiise sanatti galtanii dhaaltaniif ajaja ani har'a siif

kennu hunda of eeggannaadhaan duukaa bu'aa. 2 WAAQAYYO Waaqni kee gad si
qabee si qoruudhaan waan garaa kee keessa jiru jechuunis akka ati ajajawwan isaa
eegduu fi hin eegne beekuuf karaa inni waggoota afurtamman kanneen guutuu
gammoojjii keessa si qajeelche yaadadhu. 3 Innis gad si deebisee si beelessee
"mannaa" ati yookaan abbootiin kee hin beekin si soore; kunis akka namni dubbii
afaan WAAQAYYOOTII ba'u hundaan malee buddeena qofaan hin jiraanne si barsiisuuf.
4 Waggoota afurtamman kanneen keessa uffanni kee hin dhumne; miilli kees hin
iitofne. 5 Akka WAAQAYYO Waaqni kee akkuma abbaan ilma isaa adabatu akka si
adabu beeki.
6 Daandiiwwan isaa irra deemuu fi isa sodaachuudhaan ajajawwan WAAQAYYO
Waaqa keetii eegi. 7 WAAQAYYO Waaqni kee biyya gaarii kan lageen, haroowwanii fi
burqaawwan sululootaa fi gaarran keessaa yaa'aniitti si galchaatii. 8 Biyya qamadii
fi garbuu, wayinii fi harbuu, roomaanii, zayitii ejersaatii fi damma baasutti, 9 biyya
ati hir'ina malee buddeena nyaattuu fi biyya ati keessaa homaa hin dhabne, biyya
kattaan sibiila ta'e, biyya ati gaarran keessaa sibiila diimaa baasuu dandeessuu dha.
10 Yeroo nyaattee quuftutti, sababii WAAQAYYO Waaqni kee biyya gaarii akkasii
siif kenneef isa jajadhu. 11 Ati akka ajajawwan, qajeelfamawwanii fi seerawwan
isaa kanneen ani har'a siif kennu eeguu baachuudhaan WAAQAYYO Waaqa kee hin
daganne of eeggadhu. 12 Yoo kanaa achii yommuu nyaattee quuftutti, yommuu mana
gaarii ijaarrattee keessa jiraattutti, 13 yommuu loonii fi bushaayeen kee wal horanii
meetii fi warqeen kee dabaluu fi yommuu wanni ati qabdu hundi baay'atutti, 14 ati of
tuultee WAAQAYYO Waaqa kee isa biyya Gibxi, biyya garbummaatii baasee si fide sana
ni dagatta. 15 Inni gammoojjii bal'aa fi sodaachisaa, biyya dheebuutii fi kan bishaan
hin qabne, biyya bofa hadhaa qabuu fi torbaanqabaan keessa guute sana keessa si
deemsise. Kattaa jabaa keessaas bishaan siif burqisiise. 16 Akka dhuma irratti sitti
toluuf jedhee gad si qabuu fi si qoruudhaaf, waan takkumaa abbootiin kee hin beekin
gammoojjii keessatti "mannaa" ati nyaattu siif kenne. 17 Ati, "Humna kootii fi jabina
harka kootu qabeenya kana naaf argamsiise jettee" yaadda ta'a. 18 Garuu WAAQAYYO
Waaqa kee yaadadhu; kan akkuma har'a jiru kanatti akka ati qabeenya horattuuf
dandeettii siif kennee waadaa kakuudhaan abbootii keetiif gale sana siif eege isaatii.
19 Yoo ati WAAQAYYO Waaqa kee irraanfattee waaqota biraa duukaa buute, yoo
isaan waaqeffattee fi isaaniif sagadde akka isin dhugumaan baddan ani har'a dhugaa
isinitti nan ba'a. 20 Akkuma Saboota WAAQAYYO fuula keessan duraa balleesse sanaa
WAAQAYYO Waaqa keessaniif waan ajajamuu didaniif akkasuma isinis ni balleeffamtu.

# 9

*Sababii Qajeelummaa Israa'eliif Miti*

1 Yaa Israa'el dhaga'i. Ati Saboota si caalaa gurguddaa fi humna qabeeyyii, mag-
aalaawwan dallaa samii ga'uun marfaman qaban achii baaftee dhaaluuf Yordaanos
ce'uuf jirta. 2 Namoonni sun ilmaan Anaaq warra jajjaboo fi dhedheeroo dha! Atis
waa'ee isaanii ni beekta; akka, "Eenyutu Anaaqota dura dhaabachuu danda'a?"
jedhamu illee dhageesseerta. 3 Ta'us kan akkuma ibidda waa gubee fixuu si dura
ce'u WAAQAYYO Waaqa kee ta'uu isaa har'a beeki. Inni isaan balleessa; fuula kee
durattis gad isaan deebisa. Atis akkuma WAAQAYYO si abdachiise sanatti ariitee isaan
baafta; daftees isaan fixxa.
4 Erga WAAQAYYO Waaqni kee fuula kee duraa ari'ee isaan baasee booddee ati
garaa keetti, "WAAQAYYO sababii qajeelummaa kootiif akka ani biyya kana dhaalu
as na fide" hin jedhin. WAAQAYYO sababii hammina isaaniitiif saboota kanneen
fuula kee duraa ari'ee baasa. 5 Ati biyya isaaniitti galtee kan dhaaltu qajeelummaa
keetiin yookaan gaarummaa garaa keetiitiin utuu hin ta'in WAAQAYYO kakuu abbootii

kee Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif gale sana guutuudhaaf jedhee WAAQAYYO
Waaqni kee saboota kanneen sababii hammina isaaniitiif fuula kee duraa ari'ee
baasa. 6 Egaa WAAQAYYO Waaqni kee kan biyya gaarii kana akka dhaaltuuf siif kennu
sababii qajeelummaa keetiitiif akka hin ta'in hubadhu; ati saba mata jabeessaatii.

### *Jabbii Warqee*

7 Ati akkamitti akka gammoojjii keessatti WAAQAYYO Waaqa kee dheekkamsaaf
kakaafte yaadadhu; hin dagatinis. Ati gaafa biyya Gibxii baatee jalqabdee hamma
as geessutti WAAQAYYOTTI fincilaa turte. 8 Isin Kooreebitti iyyuu WAAQAYYOON
dheekkamsaaf kakaasnaan Waaqayyo isin barbadeessuuf isinitti aare. 9 Ani yeroo
gabateewwan dhagaa jechuunis gabateewwan kakuu WAAQAYYO isin wajjin gale
sanaa fuudhuuf tulluutti ol ba'etti guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama tulluu
sana irran ture; ani buddeena tokko illee hin nyaanne; bishaan illee hin dhugne.
10 WAAQAYYOS gabateewwan dhagaa lama kanneen quba Waaqayyootiin irratti
barreeffame natti kenne. Ajajawwan WAAQAYYO yeroo isin walitti qabamtanitti tulluu
irratti ibidda keessaa isinitti labse hundi gabateewwan sana irra turan.
11 Dhuma guyyaa afurtamaatii fi halkan afurtamaatti WAAQAYYO gabateewwan
dhagaa lama jechuunis gabateewwan kakuu natti kenne. 12 Gaafas WAAQAYYO akkana
naan jedhe; "Ka'ii dafii gad bu'i; sabni kee kan ati biyya Gibxiitii baaftee fidde sun
xuraa'eeraatii. Isaan waan ani isaan ajaje irraa dafanii garagalanii ofii isaaniitiif
Waaqa baqfamee hojjetame tolfataniiruutii."
13 WAAQAYYO ammas akkana naan jedhe; "Ani saba kana argeera; kunoo inni saba
mata jabeessa! 14 Akka ani isaan balleessee maqaa isaanii illee samii gadii haquuf na
dhiisi; si'i immoo isaan caalaa saba guddaa fi jabaa nan godha."
15 Anis of irra garagalee utuma tulluun sun boba'aa jiruu tulluu irraa gad nan
bu'e. Gabateewwan kakuu lamaan sunis na harka turan. 16 Anis nan arge; kunoo
isin WAAQAYYO Waaqa keessanitti cubbuu hojjettanii turtan; isin bifa jabbiitiin Waaqa
baqfamee hojjetame ofii keessaniif tolfattanii turtan. Isin daftanii karaa WAAQAYYO
isin ajaje irraa jal'attan. 17 Kanaafuu ani gabateewwan lamaan sana harka koo irraa
darbadhee ijuma keessan duratti nan caccabse.
18 Sababii cubbuu isin hojjettan hundaa kan isin fuula WAAQAYYOO duratti waan
hamaa hojjechuudhaan dheekkamsaaf isa kakaaftan sanaatiif ani ammas fuula
WAAQAYYOO duratti gombifamee utuun buddeena hin nyaatinii fi bishaan hin dhugin
guyyaa afurtamaa fi halkan afurtaman ture. 19 Sababii inni isin balleessuuf aaree
tureef, ani aarii fi dheekkamsa WAAQAYYOO nan sodaadhe. WAAQAYYO garuu amma
illee na dhaga'e. 20 WAAQAYYO Aroonin balleessuuf akka malee itti aaree ture; ani
garuu yeroo sana Arooniifis nan kadhadhe. 21 Akkasumas ani cubbuu keessan bifa
jabbii isin tolfattan sanaa fuudhee ibiddaan nan gube. Caccabsees hamma inni
bullaa'aa akka awwaaraa ta'utti bulleessee burqaa tulluu irraa gad yaa'uttan firfirse.
22 Isinis Tabeeraatti, Maasaahii fi Qiibrooti Hataawaatti WAAQAYYO dheekkamsiif-
tan.
23 WAAQAYYO yommuu Qaadesh Barneetii isin baasetti, "Ol ba'aatii biyya ani isiniif
kenne sana dhaalaa" isiniin jedhe. Isin garuu ajaja WAAQAYYO Waaqa keessaniitti
finciltan. Isas hin amananne; hin ajajamneefis. 24 Isin erga ani isin beekee jalqabdanii
WAAQAYYOTTI finciltaniirtu.
25 Sababii WAAQAYYO akka isin balleessu dubbatee tureef ani guyyaa afurtamaa
fi halkan afurtaman sana fuula WAAQAYYOO duratti lafatti nan gombifame. 26 Anis
akkana jedheen WAAQAYYOON kadhadhe; "Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati saba kee, dhaala
kee kan humna kee guddichaa fi harka kee jabaadhaan furtee biyya Gibxii baafte
kana hin balleessin. 27 Garboota kee Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqoobin yaadadhu.
Mata jabina saba kanaa, hammina isaatii fi cubbuu isaa hin ilaalin. 28 Yoo kanaa achii

biyyi ati keessaa nu baafte sun, ‘WAAQAYYO waan biyya waadaa isaaniif gale sanatti
isaan galchuu hin dandeenyee fi waan isaan jibbeef gammoojjii keessatti isaan fixuuf
isaan baase’ jedha. 29 Isaan garuu saba keetii fi dhaala kee kan ati humna jabaa fi
irree diriirfameen baaftee fiddee dha.”

# 10

*Gabateewwan Gabateewwan Jalqabaa Fakkaatan*

1 Yeroo sanas WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Gabateewwan dhagaa kanneen
gabateewwan jalqabaa fakkaatan lama soofiitii tulluutti ol ba’ii na bira kottu. Taabota
mukaas hojjedhu. 2 Anis dubbii gabateewwan jalqabaa kanneen ati caccabsite sana
irra turan gabateewwan kanneen irratti nan barreessa. Atis taabota keessa isaan
keessa.”
3 Ani muka laaftoo irraa taabota tolchee gabateewwan dhagaa lama akkuma
kanneen jalqabaatti nan soofe; gabateewwan lamaanis harkatti qabadhee tulluu
sanatti ol nan ba’e. 4 WAAQAYYO guyyaa wal ga’ii sana tulluu irraa Ajajawwan Kurnan
ibidda keessaa isinitti dubbate sana akkuma barreeffama duraatti gabateewwan
kanneen irratti barreesse; WAAQAYYOS gabateewwan kanneen natti kenne. 5 Anis
tulluu sana irraa gad bu’ee akkuma WAAQAYYO na ajajetti gabateewwan sana taabota
isa ani hojjedhee ture keessa nan kaa’e; isaanis amma achi jiru.
6 Israa’eloonnis Bi’eerooti Benee Yaa’akaanii ka’anii gara Mooseraatti qajeelan.
Aroonis achitti du’ee awwaalame; ilmi isaa Ele’aazaar iddoo isaa bu’ee luba ta’e.
7 Achii ka’anii Gudgodaa dhaqan; ergasiis gara Yoxbaataa biyya bishaanota yaa’an
qabduutti darban. 8 Yeroo sanatti WAAQAYYO gosa Lewwii akka inni taabota kakuu
WAAQAYYOO baatuuf, akka fuula WAAQAYYOO dura dhaabatee isa tajaajiluu fi akka
maqaa isaatiin eebbisuuf hamma har’aatti addaan baase. 9 Sababiin gosti Lewwii
akka obboloota isaa gidduutti qooda yookaan dhaala hin qabaanne godhameefis
kanuma. Akkuman WAAQAYYO Waaqni kee isaanitti himetti, WAAQAYYO dhaala isaanii
ti.
10 Ammas ani akkuma yeroo jalqabaa godhe sana guyyaa afurtamaa fi halkan afur-
tama tulluu sana irran ture; WAAQAYYO ammas na dhaga’e. Inni si balleessuudhaaf
fedhii hin qabu. 11 WAAQAYYOS, “Deemi; akka isaan biyya ani abbootii isaaniitiif
kennuudhaaf kakadhe sana seenanii dhaalaniif saba kana dura bu’ii deemi” naan
jedhe.

*WAAQAYYOON Sodaadhu*

12 Yaa Israa’el, wanni WAAQAYYO Waaqni kee sirraa barbaadu maali? Akka ati
WAAQAYYO Waaqa kee sodaattu, akka daandii isaa hunda irra deemtu, akka isa
jaallattu, akka WAAQAYYO Waaqa kee garaa kee guutuu fi lubbuu kee guutuudhaan
tajaajiltu, 13 akka siif toluuf, akka ati ajajawwanii fi qajeelchawwan WAAQAYYOO
kanneen ani har’a siif kennu eegduu mitii?
14 Kunoo samiin, samiin samiiwwanii olii, laftii fi wanni ishee keessa jiru hundinuu
kan WAAQAYYO Waaqa keetii ti. 15 Ta’us akkuma har’a ta’ee jiru kana, WAAQAYYO
jaalalaan qalbii isaa abbootii keessan irra buufate; isin warra sanyii isaanii taatanis
saboota hunda caalchisee filate. 16 Kanaafuu qalbii keessan dhagna qabaa; si’achis
mataa jabeeyyii hin ta’inaa. 17 WAAQAYYO Waaqni keessan Waaqa waaqotaa, Gooftaa
gooftotaa, Waaqa guddaa, jabaa fi sodaachisaa, kan nama wal hin caalchifnee
fi kan matta’aa hin fudhanneedhaatii. 18 Inni ijoollee abbootii hin qabnee fi
niitota dhirsoonni isaanii irraa du’aniif ni falma; alagootas nyaataa fi uffata isaanii
kennuudhaan jaallata. 19 Alagoota jaalladhaa; isin mataan keessan biyya Gibxitti
alagoota turtaniitii. 20 WAAQAYYO Waaqa kee sodaadhu; isa tajaajilis. Isatti maxxani;
maqaa isaatiinis kakadhu. 21 Inni ulfina kee ti; inni Waaqa kee kan dinqiiwwan

gurguddaa fi sodaachisaa ati ija keetiin argite sana siif hojjetee dha. 22 Abbootiin kee
warri Gibxitti gad bu’an nama torbaatama turan; amma garuu WAAQAYYO Waaqni
kee akka urjii samii keessaa si baay’iseera.

# 11

*WAAQAYYOON Jaalladhuutii Ajajamiif*

1 WAAQAYYO Waaqa kee jaalladhu; yeroo hundas fedhii isaa, qajeelchawwan isaa,
seerawwan isaatii fi ajajawwan isaa eegi. 2 Kan adabbii WAAQAYYO Waaqa keessanii,
surraa isaa, harka isaa jabaa fi irree isaa kan diriirfame beeke yookaan arge isinuma
malee akka ijoollee keessan hin ta’in har’a yaadadhaa. 3 Mallattoowwanii fi wantoota
inni Gibxi keessatti Fara’oon mootii Gibxii fi biyya isaa guutuu irratti hojjete, 4 waan
inni loltoota Gibxi, fardeenii fi gaariiwwanis godhe, utuma isaan isin duukaa bu’anuu
akka inni Galaana Diimaadhaan isaan haguuge, akka itti WAAQAYYO badiisa bara
baraa isaanitti fide yaadadhaa. 5 Waan inni hamma isin iddoo kana geessanitti lafa
gammoojjii keessatti isiniif godhe kan arge ijoollee keessan miti; 6 isaan waan inni
gaafa lafti afaan ishee banattee guutummaa Israa’el gidduutti Daataanii fi Abiiraam
ilmaan Eliiyaab namicha gosa Ruubeen sana maatii isaanii wajjin, dunkaanota
isaaniitii fi qabeenya isaanii kan lubbuu qabu hunda liqimsitetti isaan godhe hin
argine. 7 Iji keessan garuu waan guddaa WAAQAYYO godhe kanneen hunda argeera.
8 Kanaafuu isin akka Yordaanosiin ceetanii biyya dhaaluuf jirtanitti galuuf
jabaattaniif ajajawwan ani har’a isinii kennu hunda eegaa; 9 kunis akka isin biyya
WAAQAYYO abbootii keessanii fi sanyii isaaniitiif kennuuf kakate kan aannanii fi
damma baasu sana keessatti bara dheeraa jiraattaniif. 10 Biyyi ati dhaaluuf itti
galaa jirtu kun akka biyya Gibxi kan ati keessaa baatee dhufte kan ati akkuma lafa
biqiltuutti sanyii kee facaaftee miilla keetiin bishaan obaafte sanaa miti. 11 Biyyi
ati Yordaanos ceetee dhaaltu kun garuu biyya tulluuwwanii fi sululawwanii kan
samiidhaa bokkaa argatuu dha. 12 Biyyi kun biyya WAAQAYYO Waaqni kee kunuunsuu
dha; jalqaba waggaatii hamma dhuma waggaattis iji WAAQAYYO Waaqa keetii ishee
irraa hin buqqa’u.
13 Yoo ajajawwan ani har’a isiniif kennu amanamummaadhaan eegdan jechuunis
yoo isin WAAQAYYO Waaqa keessan jaallattanii garaa keessan guutuu fi lubbuu
keessan guutuudhaan isa tajaajiltan, 14 akka ati midhaan kee, wayinii keetii fi zayitii
kee galfattuuf ani yeroo isaatti bokkaa birraatii fi bokkaa arfaasaa lafa keetti nan
roobsa. 15 Loon keetiif marga bakkee nan kenna; atis nyaattee quufta.
16 Of eeggadhaa! Yoo kanaa achii isin akka garagaltanii waaqota biraa waaqef-
fattanii fi isaaniifis sagaddan gowwoomfamtu. 17 Ergasii dheekkamsi WAAQAYYOO
isinitti boba’a; innis akka bokkaan hin roobne, laftis oomisha hin kennineef
samiiwwan ni cufa; isinis biyya gaarii WAAQAYYO isiniif kennu irraa daftanii ni
baddu. 18 Dubbiiwwan koo kanneen garaa fi qalbii keessanitti qabadhaa; akka
mallattootti harkatti hidhadhaa; adda keessan irrattis maxxanfadhaa. 19 Ijoollee
keessanis barsiisaa; yeroo mana teessu, yeroo karaa deemtu, yeroo ciiftuu fi yeroo
dammaqxutti waa’ee isaanii odeessi. 20 Michichilawwan balbala mana keetiitii fi
karrawwan kee irrattis isaan barreessi; 21 kunis akka umuriin keessanii fi umuriin
ijoollee keessanii biyya WAAQAYYO abbootii keessaniif kennuuf kakate keessatti
akkuma umurii samiiwwan lafaa oli jiraniitti dheeratuuf.
22 Yoo isin ajajawwan ani isiniif kennu kanneen hunda of eeggannoodhaan duukaa
buutan jechuunis yoo isin WAAQAYYO Waaqa keessan jaallattan, karaa isaa hunda irra
deemtanii fi isatti maxxantan, 23 WAAQAYYO saboota hunda fuula keessan duraa ari’ee
ni baasa; isinis saboota isin caalaa gurguddaa fi jajjaboo ni dhaaltu. 24 Lafti miilli
keessan irra dhaabate hundinuu keessan ta’a; daariin keessanis gammoojjiidhaa

hamma Libaanoonitti, laga Efraaxiisii hamma galaana lixaatti ni bal'ata. 25 Namni
kam iyyuu fuula keessan dura dhaabachuu hin danda'u. WAAQAYYO Waaqni keessan
akkuma isin abdachiisetti rifachiisuu fi sodaachisuu keessan lafa isin dhaqxan hunda
irra ni buusa.
26 Kunoo, ani har'a eebbaa fi abaarsa fuula keessan dura nan kaa'a; 27 eebbi kunis
yoo isin ajajawwan WAAQAYYO Waaqa keessanii kanneen ani har'a isiniif kennu
eegdanii dha. 28 Abaarsi immoo yoo isin ajajawwan WAAQAYYO Waaqa keessanii
dhaga'uu diddanii karaa ani har'a isin ajaje irraa garagaltanii waaqota biraa kanneen
isin duraan hin beekne duukaa buutanii dha. 29 Yommuu WAAQAYYO Waaqni kee
biyya ati dhaaluuf itti galtu kanatti si fidutti Tulluu Gerziim irratti eebba, Tulluu
Eebaal irratti immoo abaarsa labsita. 30 Tulluuwwan kunneen Yordaanos gamatti,
karaa gara lixa biiftuutti geessuun gama lixaatti, muka Mooree guddicha biratti,
biyya Kana'aanota Arabbaa keessa jiraatan keessatti fuullee Gilgaalitti argamu mitii?
31 Isin biyya WAAQAYYO Waaqni keessan isiniif kennu seentanii dhaaluuf Yordaanosin
ce'uudhaaf jirtu; yommuu lafa sana dhaaltanii irra jiraattanitti, 32 ajajawwanii fi
seerawwan ani har'a fuula keessan dura kaa'u hunda eegaa.

# 12

### *Iddoo Waaqeffannaadhaaf Filatame*

1 Sirnawwanii fi seerawwan isin bara lafa irra jiraattan guutuu biyya WAAQAYYO
Waaqni abbootii keessanii akka isin dhaaltaniif isiniif kenne keessatti of eeggan-
naadhaan eegdan kanneenii dha. 2 Iddoowwan saboonni isin irraa fudhattan
waaqota isaanii itti waaqeffatan kanneen tulluuwwan ol dhedheeroo fi gaarran
irraa, akkasumas kanneen muka lalisaa kam iyyuu jalaa hunda guutumaan guutuutti
balleessaa; 3 iddoowwan aarsaa isaanii diigaa; utubaawwan isaanii kanneen sagadaa
caccabsaa; Aasheeraa isaanii ibiddaan gubaa; fakkii waaqota isaanii kukkutaa gataa;
maqaa isaanii illee iddoo sanaa balleessaa.
4 Isin haala isaan waaqeffataniin WAAQAYYO Waaqa keessan hin waaqeffatinaa.
5 Garuu iddoo WAAQAYYO Waaqni keessan Maqaa isaa achi dhaabuuf jedhee iddoo
jireenya isaatiif gosoota keessan hunda keessaa filatu barbaadaa. Achis dhaqaa;
6 achittis aarsaa gubamuu fi qalma keessan, kennaa keessan kudhan keessaa tokko,
kennaa addaa, waan kennuuf wareegdanii fi kennaa fedhiidhaan kennitan, loonii
fi bushaayee keessan keessaa hangafa dhi'eessaa. 7 Achittis atii fi warri mana kee
jiraatan fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii duratti ni nyaattu; sababii WAAQAYYO
Waaqni keessan hojii harka keessanii hundaan isin eebbiseefis ni gammaddu.
8 Akka nu har'a godhaa jirru kana, akka tokkoon tokkoon namaa waanuma tolaa
itti fakkaate godhu kana hin godhinaa; 9 isin amma iyyuu boqonnaa fi dhaala
WAAQAYYO Waaqni keessan isiniif kennu hin geenyeetii. 10 Garuu Yordaanos ceetanii
biyya WAAQAYYO Waaqni keessan dhaala godhee isiniif kennu keessa ni qubattu;
innis akka isin nagaan jiraattaniif diinota naannoo keessanii hunda jalaa boqonnaa
isinii kenna. 11 Ergasiis gara WAAQAYYO Waaqni keessan iddoo jireenya Maqaa
isaatiif filatuutti waan ani isin ajaje hunda fiduu qabdu; kunis aarsaa gubamuu fi
qalma keessan, kennaa keessan kudhan keessaa tokko, kennaa addaa, akkasumas
wareega filatamaa WAAQAYYOOF kennuuf wareegdan hundaa dha. 12 Achittis isin,
ilmaanii fi intallan keessan, hojjetaa fi xomboreen keessan, akkasumas Lewwonni
magaalaawwan keessan keessa jiraatan kanneen qooda yookaan dhaala mataa isaanii
hin qabnes fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii duratti gammadaa. 13 Akka aarsaa
keessan kan gubamu idduma argitan hundatti hin dhi'eessine of eeggadhaa. 14 Iddoo
WAAQAYYO gosoota kee keessaa filatu tokko qofatti aarsaawwan gubaman dhi'eessi;
achittis waan ani si ajaju hunda eegi.

[15] Ta'us akkuma eebba WAAQAYYO Waaqni kee siif kennuutti, magaalaawwan kee
kam iyyuu keessatti kuruphee yookaan gadamsa qaladhuutii hamma feete nyaadhu;
warri akka seeraatti hin qulqullaa'inii fi warri qulqullaa'anis foon kana nyaachuu
ni danda'u. [16] Isin garuu dhiiga sana hin nyaatinaa; akkuma bishaaniitti lafatti
dhangalaasaa. [17] Ati midhaan kee yookaan daadhii wayinii keetii yookaan zayitii
kee harka kudhan keessaa harka tokko yookaan kennaa hangafa loon keetii yookaan
kan bushaayee keetii yookaan waan kennuuf wareega gootu kam iyyuu yookaan
kennaa fedhii keetiin kennitu yookaan kennaa addaa magaalaawwan kee keessatti
hin nyaatin. [18] Qooda kanaa iddoo WAAQAYYO Waaqni kee filatuutti ati, ilmaan kee,
intallan kee, hojjettoonni kee dhiiraa dubartiin, Lewwonni magaalaawwan kee keessa
jiraatan fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti nyaadhaa; atis waan harki kee hojjetu
hundaan fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti gammadi. [19] Bara biyya kee keessa
jiraattu guutuu akka Lewwota hin daganne of eeggadhu.

[20] Yommuu WAAQAYYO Waaqni kee akkuma si abdachiisetti biyya kee siif bal'isutti,
ati yoo foon dharraatee, "Ani foon nyaachuu fedha" jette, hamma feete nyaachuu
dandeessa. [21] Yoo iddoon WAAQAYYO Waaqni kee Maqaa isaa achi dhaabbachuuf filatu
akka malee sirraa fagoo ta'e, akkuma ani si ajajetti loonii fi bushaayee WAAQAYYO
Waaqni kee siif kenne keessaa qalachuu, magaalaawwan kee keessattis hamma
feete nyaachuu dandeessa. [22] Akkuma kurupheen yookaan gadamsi nyaatamu sana
isaan nyaadhu; warri akka seeraatti hin qulqullaa'inii fi warri qulqullaa'an hundi
nyaachuu ni danda'u. [23] Garuu akka dhiiga hin nyaanne of eeggadhu; sababiin isaa
dhiigni waan lubbuu ta'eef ati foon wajjin lubbuu hin nyaatin. [24] Ati dhiiga hin
nyaatin; akkuma bishaanii lafatti dhangalaasi. [25] Akka si'ii fi ijoollee kee kanneen si
duubaan dhalataniif toluuf ati dhiiga hin nyaatin; ati fuula WAAQAYYOO duratti waan
qajeelaa hojjechaa jirtaatii.

[26] Garuu wantoota kee qulqulluu fi waan kennuuf wareegde fudhadhuu iddoo
WAAQAYYO filatu dhaqi. [27] Foonii fi dhiiga aarsaa kee kan gubamuu iddoo aarsaa
WAAQAYYO Waaqa keetii irratti dhi'eessi. Dhiigni aarsaa keetii iddoo aarsaa WAAQAYYO
Waaqa keetii biratti dhangalaafamuu qaba; foon isaa garuu nyaachuu dandeessa.
[28] Akka si'ii fi ijoollee kee kanneen si duuba dhalataniif yeroo hunda toluuf
qajeelchawwan ani siif kennu kanneen hunda of eeggannaadhaan eegi; sababiin isaa
ati ija WAAQAYYO Waaqa keetii duratti waan gaarii fi qajeelaa hojjechaa jirtaatii.

[29] WAAQAYYO Waaqni kee saboota ati weerartee biyyaa baasuuf jirtu fuula kee duraa
ni balleessa. Ati garuu yommuu ariitee isaan baaftee lafa isaanii irra qubattutti,
[30] erga isaan fuula kee duraa balleeffamanii booddees, "Saboonni kunneen akkamitti
waaqota isaanii tajaajilu? Anis akkasuman godha" jettee waa'ee waaqota isaanii
gaafachuudhaan kiyyoo keessa akka hin galle of eeggadhu. [31] Isaan sababii waaqota
isaanii waaqeffachuudhaan hojii jibbisiisaa WAAQAYYO jibbu hedduu hojjetaniif, ati
haala isaaniitiin WAAQAYYO Waaqa kee hin waaqeffatin. Isaan ilmaan isaaniitii fi
intallan isaanii illee waaqota isaaniitiif aarsaa godhanii ibiddaan gubu.

[32] Ati waan ani si ajaju hunda eegi; itti hin dabalin; irraas hin hir'isin.

# 13

*Waaqota Biraa waaqeffachuu*

[1] Yoo raajiin yookaan namni abjuudhaan waan dhufaa jiru himu tokko gidduu
keessanitti argamee mallattoowwan yookaan dinqii isinitti hime, [2] yoo mallattoon
yookaan dinqii inni isinitti hime sun raawwatamee innis, "Kottu waaqota biraa
kanneen ati duraan hin beekne duukaa buunee haa waaqeffannu" siin jedhe, [3] ati
dubbii raajii yookaan nama abjootu sanaa hin dhaggeeffatin; WAAQAYYO Waaqni kee

akka isin garaa keessan guutuu fi yaada keessan guutuudhaan isa jaallattan qoruuf
waan kana godhaatii. 4 WAAQAYYO Waaqa keessan duukaa bu'aa; isa sodaadhaa.
Ajajawwan isaa eegaa; isaaf ajajamaa; isa tajaajilaa; isattis maxxanaa. 5 Raajaan
yookaan namichi abjuu abjootu sun, sababii akka isin WAAQAYYO Waaqa keessan kan
biyya Gibxiitii isin baasee biyya garbummaa jalaa isin fure sanatti finciltan dubbateef
ajjeefamuu qaba; inni karaa WAAQAYYO Waaqni keessan akka duukaa buutan isin
ajaje irraa isin jal'isuuf yaaleera; hamaa of keessaa balleessi.

6 Yoo obboleessi kee yookaan ilmi kee yookaan intalli kee yookaan niitiin kee kan
ati jaallattu yookaan michuun kee, "Kottu waaqota biraa kanneen atis taatu abbootiin
kee hin beekin waaqeffannaa" jedhee dhoksaadhaan si dogoggorsuu barbaade, 7 yoo
inni waaqota saboota naannoo keetii, kanneen dhi'oo yookaan fagoo jiran, warra
daarii lafaa tokkoo hamma daarii lafaa kaaniitti jiranii waaqeffanna, siin jedhe, 8 tole
hin jedhiniif yookaan isa hin dhaga'in. Hin na'iniif. Isaaf hin hilin yookaan harka
irra hin qabin. 9 Ati isa ajjeesuu qabda. Isa ajjeesuufis jalqabatti harki kee, itti aansees
harki saba hundaa haa ka'u. 10 Waan inni akka ati WAAQAYYO Waaqa kee kan Gibxi,
biyya garbummaatii si baase sana irraa garagaltu godheef dhagaadhaan tumii isa
ajjeesi. 11 Ergasii Israa'eloonni hundi dhaga'anii ni sodaatu; si gidduudhaas eenyu
iyyuu deebi'ee waan hamaa akkasii hin hojjetu.

12 Yoo ati magaalaawwan akka ati keessa jiraattuuf WAAQAYYO Waaqni kee siif
kennu keessaa tokkotti iyyuu utuu akkas jedhamuu dhageesse, 13 yoo namoonni
hamoon isin gidduudhaa ka'anii, "Kottaa waaqota biraa kanneen isin hin beekne
waaqeffannaa" jedhanii saba magaalaa isaanii dogoggorsu ta'e, 14 dubbii sana
iyyaafadhu; qoradhu; sirriitti gaafadhu. Kunoo, yoo dubbiin sun dhugaa ta'ee wanni
jibbisiisaan kun gidduu keetti hojjetamuun isaa mirkanaa'e, 15 ati namoota magaalaa
sana keessa jiraatan hunda goraadeedhaan fixi; magaalaa sana illee namoota isheetii
fi horii ishee wajjin guutumaan guutuutti barbadeessi. 16 Mi'a boojuu kan magaalaa
sanaa argame hunda walakkaa oobdii isheetti walitti qabiitii magaalaa sana guutuu
boojuu ishee wajjin WAAQAYYO Waaqa keetiif aarsaa guutummaan gubamu godhiitii
gubi. Isheen bara baraan barbadooftee haa haftu; deebitees hin ijaaramin. 17 Akka
WAAQAYYO dheekkamsa isaa sodaachisaa irraa deebi'uuf wanni abaarame tokko
harka keetti hin argamin; inni siif araarama; garaa siif laafa; akkuma abbootii keetiif
kakatetti si baay'isa; 18 kunis waan ati ajajawwan isaa kanneen ani har'a siif kennu
hunda eegdee fuula isaa duratti waan qajeelaa hojjechuudhaan WAAQAYYO Waaqa
keetiif ajajamtuuf.

# 14

*Nyaata Qulqulluu ta'ee fi Qulqulluu Hin ta'in*
*14:3-20 kwf – Lew 11:1-23*

1 Isin ijoollee WAAQAYYO Waaqa keessanii ti. Nama du'eef jettanii of hin
murmurinaa yookaan rifeensa adda keessaniin oli jiru hin haaddatinaa; 2 ati
WAAQAYYO Waaqa keetiif saba qulqulluudhaatii. WAAQAYYO akka ati qabeenya isaa
jaallatamaa taatuuf jedhee saboota lafa irra jiraatan hunda keessaa si filateera.

3 Ati waan jibbisiisaa tokko illee hin nyaatin. 4 Horiin isin nyaachuu dandeessan
kanneenii dha; sangaa, hoolaa, re'ee, 5 gadamsa, kuruphee, borofa, re'ee diidaa,
waaliyaa, saalaa fi hoolaa tulluu. 6 Horii kotteen isaa baqaqee iddoo lamatti gargar
qoodame kan halala guuru nyaachuu ni dandeessu. 7 Garuu warra halala guuran
yookaan warra kottee baqaqaa qaban keessaa gaala, illeettii, yookaan osolee hin
nyaatinaa; isaan kunneen halala guuran iyyuu waan kotteen isaanii duudaa ta'eef
isaan akka seeraatti isiniif qulqulluu miti. 8 Booyyeenis qulqulluu miti; kotteen isaa

baqaqaa ta'us booyyeen halala hin guuru. Isin foon isaanii hin nyaatinaa yookaan
raqa isaanii hin tuqinaa.
9 Uumamawwan bishaan keessa jiraatan hunda keessaa warra qoochoo fi qola
qaban kam iyyuu nyaachuu dandeessu. 10 Garuu warra qoochoo fi qola hin qabne
kam iyyuu hin nyaatinaa; isaan isiniif qulqulluu miti.
11 Isin simbira qulqulluu kam iyyuu nyaachuu dandeessu. 12 Isaan kanneen
garuu hin nyaatinaa; isaanis risaa, rumicha, rumicha gurraacha, 13 culullee, culullee
gurraacha, culullee gosa garaa garaa, 14 arraagessa gosa garaa garaa, 15 guchii,
urunguu, allaattii bishaanii, coroffee gosa garaa garaa, 16 urunguu xinnaa, urunguu
guddaa, urunguu adii, 17 urunguu gammoojjii, abbaa koddaa, urunguu guddaa,
18 huummoo, allaattii gosa kamii iyyuu, haadha gaayyeetii fi simbira halkanii ti.
19 Ilbiisonni barrisan hundinuu isiniif qulqulluu miti; isaan hin nyaatinaa.
20 Uumamawwan qoochoo qaban kanneen qulqulluu ta'an kam iyyuu garuu
nyaachuu dandeessu.
21 Waan ofii isaatiin du'e tokko illee hin nyaatin. Akka inni nyaatuuf alagaa
magaalaa kee keessa jiraatuuf kenni yookaan nama ormaa tokkotti gurguradhu. Ati
garuu saba WAAQAYYO Waaqa keetiif qulqulleeffamtee dha.
Ilmoo re'ee tokko aannan haadhaa isheetiin hin affeelin.

### *Kudhan Keessaa Harka Tokko*

22 Waan lafti qotiisaa kee waggaatti kennu hunda keessaa kudhan keessaa tokko
kophaatti baasii kaa'i. 23 Akka WAAQAYYO Waaqa kee sodaachuu barattuuf iddoo inni
akka Maqaan isaa achi jiraatuuf filatutti midhaan kee, wayinii kee haaraa fi zayitii
kee akkasumas hangafa loonii fi bushaayee kee fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti
nyaadhu. 24 Garuu yoo iddoon sun akka malee fagaatee, atis WAAQAYYO Waaqa keetiin
eebbifamtee sababii iddoon WAAQAYYO akka Maqaan isaa achi jiraatuuf filatu sun
fagoo ta'eef kennaa kee kudhan keessaa tokko baachuu dadhabde, 25 kennaa kee
kan kudhan keessaa tokko sana meetiitti geeddariitii, meetii sana qabadhuutii iddoo
WAAQAYYO Waaqni kee filatu dhaqi. 26 Meetii sanaanis waanuma feete jechuunis,
loon, hoolota, daadhii wayinii yookaan dhugaatii jabaa, yookaan waan barbaadde
kam iyyuu biti. Ergasii atii fi warri mana keetii fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti
nyaadhaa gammadaa. 27 Lewwonni magaalaa kee keessa jiraatan qooda yookaan
dhaala ofii isaanii waan hin qabneef ati isaan hin dagatin.
28 Yeroo hunda dhuma waggaa sadaffaatti waan waggaa sana keessa galfatte
kudhan keessaa tokko fuudhiitii magaalaawwan keessatti kuusi. 29 Kunis akka
Lewwonni qooda yookaan dhaala ofii isaanii hin qabne, alagoonni, ijoolleen abbaa
hin qabnee fi niitonni dhirsoonni isaanii irraa du'an warri magaalaawwan keessa
jiraatan nyaatanii quufanii fi akka WAAQAYYO Waaqni kee hojii harka keetii hundaan
si eebbisuuf.

## 15

### *Waggaa Itti Gatiin Namaaf Dhiifamu*

*15:1-11 kwi – Lew 25:8-38*

1 Ati yeroo hunda dhuma waggaa torbaffaatti gatii namaaf dhiisuu qabda. 2 Kunis
akkanatti ta'a: namni liqii kennu hundii liqii ollaa isaa nama Israa'eliif liqeesse
dhiisuufii qaba. Sababii yeroon WAAQAYYOO kan itti gatiin namaaf dhiifamu
labsameef inni ollaa isaa yookaan obboleessa isaa Israa'elicha irraa waan isaaf
liqeesse hin gaafatin. 3 Ati waan alagaaf liqeessite gaafachuu ni dandeessa; garuu
waan obboleessi kee sirraa liqeeffate dhiisuufii qabda. 4 Ta'us waan WAAQAYYO
Waaqni kee biyya akka ati dhaaltuuf siif kennu irratti akka malee si eebbisuuf
hiyyeessi gidduu keetti hin argamu; 5 kunis yoo ati guutumaan guutuutti WAAQAYYO

Waaqa keetiif ajajamtee fi yoo ati ajajawwan ani har'a siif kennu kanneen hunda
eegde qofa ta'a. 6 Waan WAAQAYYO Waaqni kee akkuma si abdachiisetti si eebbisuuf
ati saboota baay'eedhaaf liqeessita malee tokko irraa iyyuu hin liqeeffattu. Ati
saboota baay'ee bulchita malee isaan si hin bulchan.
7 Magaalaawwan WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu keessatti yoo obboloota kee
gidduu hiyyeessi jiraate obboleessa kee sana irratti garaan kee hin jabaatin yookaan
isa gargaaruu irraa harka kee hin deebifatin. 8 Qooda kanaa harka kee isaaf diriirsiitii
waan isa ga'u liqeessiif. 9 Akka yaadni hamaan, "Waggaan torbaffaan, waggaan itti
gatiin namaaf dhiifamu sun dhi'aateera" jedhu si keessatti kuufamee ati akkasiin
obboleessa kee rakkataa ija hamaadhaan ilaaltee gargaaruu hin dhiifne of eeggadhu.
Inni WAAQAYYOTTI ol iyyata; kunis cubbuu sitti ta'a. 10 Ati arjummaadhaan isaaf
kenni; yommuu kennituufis garaan kee hin gaabbin; sababii kanaaf WAAQAYYO
Waaqni kee hojii kee hundaa fi waan harki kee qabate hundaan si eebbisa. 11 Yoom
iyyuu taanaan hiyyeeyyiin lafa irra ni jiraatu. Kanaafuu ani akka ati harka kee
obboloota keetiif, hiyyeeyyii fi rakkattoota biyya keetiitiif diriirfattu sin ajaja.

*Garboota Bilisoomsuu*
*15:12-18 kwf – Bau 21:2-6*
*15:12-18 kwi – Lew 25:38-55*

12 Yoo namni gosa Ibrootaa, dhiirri yookaan dubartiin sitti gurguramtee waggaa
ja'a siif hojjette, waggaa torbafaatti bilisa baasii gad dhiisi. 13 Yommuu gad dhiiftuttis
harka duwwaa hin geggeessin. 14 Bushaayee kee keessaa, oobdii fi iddoo cuunfaa
wayinii keetii irraa arjummaadhaan kenniif. Akkuma WAAQAYYO Waaqni kee si
eebbisetti isaaf kenni. 15 Akka atis biyya Gibxitti garba turtee fi akka WAAQAYYO
Waaqni kee si fure yaadadhu. Wanni ani har'a ajaja kana siif kennuufis kanuma.
16 Garuu yoo garbichi kee sun sababii si'ii fi maatii kee jaallatuuf si wajjin
jiraachuun itti tolee, "Ani si dhiisee hin deemu" siin jedhe, 17 mutaa fuudhii balbala
irratti gurra isaa uri; innis bara baraan garbicha kee ta'a. Garbittii kees akkasuma
godhi.
18 Garbicha kee bilisoomsuun waan ulfaataa sitti hin fakkaatin; tajaajilli isaa
kan waggaa ja'aa sun gatii nama qaxaramee hojjetu tokkootti harka lama tureetii.
WAAQAYYO Waaqni kee waan ati hojjetu hundaan si eebbisa.

*Horii Hangafa*

19 Loonii fi bushaayee kee keessaa korma hangafa hunda WAAQAYYO Waaqa keetiif
addaan baasi; qotiyyoo kee keessaa hangafaan hin hojjetin; hangafa hoolaa keetii
irraa rifeensa hin murin. 20 Waggaa waggaadhaan atii fi maatiin kee iddoo WAAQAYYO
Waaqni kee filatutti fuula isaa duratti isaan nyaattu. 21 Yoo horiin sun hir'ina qabaate
jechuunis yoo inni naafa yookaan jaamaa yookaan mudaa hamaa kam iyyuu qabaate,
ati horii sana aarsaa gootee WAAQAYYO Waaqa keetiif hin dhi'eessin. 22 Ati magaalaa
kee keessatti nyaadhu. Akkuma waan horiin sun kuruphee yookaan gadamsa ta'eetti
namni akka seeraatti qulqulluu hin ta'inii fi kan qulqulluu ta'e nyaachuu danda'a.
23 Ati garuu dhiiga sana hin nyaatin; akkuma bishaaniitti lafatti dhangalaasi.

## 16

*Faasiikaa*
*16:1-8 kwf – Bau 12:14-20; Lew 23:4-8; Lak 28:16-25*

1 Sababii WAAQAYYO Waaqni kee ji'a Abiibii keessa halkaniin Gibxii si baaseef ji'a
Abiibii kabaji; Faasiikaa WAAQAYYO Waaqa keetiis ayyaaneffadhu. 2 Iddoo WAAQAYYO
Waaqni kee akka Maqaan isaa achi jiraatuuf filatutti bushaayee kee yookaan loon kee
keessaa Faasiikaa godhii WAAQAYYO Waaqa keetiif qali. 3 Ati akka bara jireenya keetii

guutuu guyyaa itti Gibxii baate sana yaadattuuf Faasiikaa sana buddeena raacitii
qabu wajjin hin nyaatin; garuu ati sababii ariitiidhaan biyya Gibxiitii baateef bultii
torba maxinoo jechuunis buddeena rakkinaa nyaadhu. 4 Guutummaa biyya keetii
keessatti bultii torbaaf raacitiin hin argamin. Foon ati galgala guyyaa jalqabaatti
aarsaa gootu hamma bariitti hin turin.
5 Ati magaalaa WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu kamitti iyyuu Faasiikaa hin
dhi'eessin; 6 garuu lafa inni iddoo jireenya Maqaa isaatiif filatutti galgala yeroo
biiftuun gad buututti yaadannoo guyyaa itti biyya Gibxiitii baateetiif aarsaa Faasiikaa
dhi'eessi. 7 Aarsaa Faasiikaa sana waadiitii iddoo WAAQAYYO Waaqni kee filatutti
nyaadhu. Ergasiis ganama gara dunkaana keetiitti deebi'i. 8 Bultii ja'a maxinoo
nyaadhu; bultii torbaffaatti immoo WAAQAYYO Waaqa keetiif wal ga'ii qulqulluu
godhi; hojii illee hin hojjetin.

### *Ayyaana Torbanootaa*
*16:9-12 kwf – Lew 23:15-22; Lak 28:26-31*

9 Gaafa midhaan kee haamuu jalqabdee kaasii torbanoota torba lakkaa'i. 10 Ergasiis
akkuma baay'ina eebba WAAQAYYO Waaqni kee siif kenneetti kennaa fedhiidhaan ken-
nitu dhi'eessuudhaan Ayyaana Torbanootaa WAAQAYYO Waaqa keetiif ayyaaneffadhu.
11 Ati, ilmaanii fi intallan kee, hojjettoonni kee dhiironnii fi dubartiin, Lewwonni
magaalaawwan kee keessa jiraatan, alagoonni, ijoolleen abbaa hin qabnee fi niitonni
dhirsoonni isaanii irraa du'an kanneen isin gidduu jiraatan achitti, iddoo WAAQAYYO
Waaqni kee iddoo jireenya Maqaa isaatiif filatutti fuula isaa duratti ni gammaddu.
12 Ati akka Gibxitti garba turte yaadadhu; seera kanas akka gaariitti eegi.

### *Ayyaana Daasii*
*16:13-17 kwf – Lew 23:33-43; Lak 29:12-39*

13 Erga oobdii fi iddoo cuunfaa wayinii keetii irraa oomisha kee galfattee booddee
guyyaa torbaaf Ayyaana Daasii ayyaaneffadhu. 14 Ati, ilmaanii fi intallan kee,
tajaajiltoonni kee dhiironnii fi dubartoonni, Lewwonni, alagoonni, ijoolleen abbootii
hin qabnee fi dubartoonni dhirsoonni isaanii irraa du'an kanneen magaalaawwan
kee keessa jiraatan ayyaana kee irratti gammadaa. 15 Ayyaana kanas iddoo WAAQAYYO
filatutti bultii torbaaf WAAQAYYO Waaqa keetiif ayyaaneffadhu. Sababii WAAQAYYO
Waaqni kee oomisha keetii fi hojii harka keetii hundaan si eebbisuuf gammachuun
kee guutuu ta'a.
16 Dhiirri kee hundi waggaatti yeroo sadii iddoo inni filatutti fuula WAAQAYYO
Waaqa keetii duratti dhi'aachuu qabu; kunis yeroo Ayyaana Maxinoo, yeroo Ayyaana
Torbanootaatii fi yeroo Ayyaana Daasii ti. Namni tokko iyyuu harka duwwaa fuula
WAAQAYYOO duratti hin dhi'aatin: 17 Tokkoon tokkoon keessan akkuma baay'ina
eebba WAAQAYYO Waaqni keessan isiniif kenneetti kennaa fidaa.

### *Abbootii Murtii*

18 Magaalaawwan WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu hundattuu gosoota kee hundaaf
abbootii seeraatii fi qondaaltota muudi; isaanis dhugaadhaan namootaaf murtii
kennu. 19 Ati murtii hin jal'isin yookaan nama wal hin caalchisin. Matta'aa
hin fudhatin; matta'aan ija ogeeyyii jaamsee dubbii qajeeltotaas jal'isa. 20 Ati
akka lubbuudhaan jiraattee lafa WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu dhaaltuuf murtii
qajeelaa qofa duukaa bu'i.

### *Waaqota Biraa Waaqeffachuu*

21 Iddoo aarsaa kan WAAQAYYO Waaqa keetiif dhaabde bira siidaa Aasheeraa hin
dhaabin. 22 Soodduu dhagaa kan WAAQAYYO Waaqni kee jibbu ofii keetiif hin
dhaabbatin.

# 17

1 Sangaa yookaan hoolaa fafa yookaan hir'ina kam iyyuu qabu WAAQAYYO Waaqa
keetiif aarsaa hin dhi'eessin; wanni akkasii isa biratti jibbisiisaa dhaatii.
2 Yoo dhiirri yookaan dubartiin magaalaawwan WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu
keessaa tokko keessa gidduu kee jiraattu tokko kakuu isaa cabsuudhaan fuula
WAAQAYYO Waaqa keetii duratti waan hamaa hojjetee argame, 3 yoo ajaja koo darbee
waaqota ormaa waaqeffate, gad jedhee biiftuuf yookaan ji'aaf yookaan urjiiwwan
samiitiif sagadde, 4 yoo wanni kun sitti himamee atis dhageesse, dubbicha gad qabii
akka gaariitti qoradhu; yoo wanni jedhame sun dhugaa ta'ee wanni jibbisiisaan
akkasii Israa'el keessatti hojjetamuun isaa mirkanaa'e, 5 namicha yookaan dubartii
waan hamaa kana hojjette gara balbala magaalaa sanaatti geessiitii dhagaadhaan
tumii ajjeesi. 6 Namni duuti isaaf malu tokko dhuga ba'umsa nama lamaa yookaan
sadiitiin haa ajjeefamu; garuu dhuga ba'umsa nama tokkoo qofaan namni kam iyyuu
ajjeefamuu hin qabu. 7 Yommuu ajjeefamus jalqabatti harki dhuga baatotaa, itti
aansee immoo kan sabaa isa irra haa bu'u; ati waan hamaa of keessaa baasuu qabda.

*Mana Murtii Seeraa*

8 Yoo dubbiiwwan murteessuuf rakkisaa ta'an mana murtii keetti dhi'aatan
jechuunis kan akka dhiiga dhangalaasuu, wal mormii seera tokkootii fi kan biraa,
yookaan miidhaa dhagna irra ga'u kan garaa garaa gidduutti wanni murtii kennuuf
rakkisu yoo ka'e, ati lafa WAAQAYYO Waaqni kee filatutti geessi. 9 Gara Lewwota warra
luboota ta'aniitii fi qondaaltota yeroo sana hojii irra turanii dhaqi. Waa'ee dubbii
sanaa isaaniin mari'adhu; isaanis murtii isaa sitti himu. 10 Atis akkuma yaada isaan
siif kennan sanaatti iddoo WAAQAYYO filatutti murtii kennuu qabda. Waan hunda
qajeelfama isaan siif kennaniin hojjedhu. 11 Akka seera isaan si barsiisaniittii fi akka
qajeelfama isaan siif kennaniitti hojjedhu. Waan isaan sitti himan irraa mirgatti
yookaan bitaatti hin gorin. 12 Namni abbaa seeraa yookaan luba WAAQAYYO Waaqa
kee tajaajiluuf achi dhaabatu tuffatu haa ajjeefamu. Ati waan hamaa Israa'el keessaa
baasuu qabda. 13 Sabni hundis waan kana dhaga'ee ni sodaata; itti deebi'ees hin
tuffatu.

*Mootii Moosifachuu*

14 Ati yommuu biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennutti galtee dhaaltuu fi
biyya sana keessa qubattee, "Akkuma saboota naannoo koo jiraataniitti anis mootii
of irrattan moosisa" jettutti, 15 mootii WAAQAYYO Waaqni kee filatu of irratti
moosisi. Nama obboleessa kee Israa'el ta'e keessaa malee nama biyya alaa of irratti
hin moosisin. 16 Sababii WAAQAYYO, "Lammata garas hin deebitan" jedhee sitti
himeef, mootichi ofii isaatii fardeen hin baay'ifatin yookaan lakkoobsa fardeenii
baay'ifachuuf jedhee gara Gibxitti saba hin deebisin. 17 Akka yaadni isaa hin badneef
inni niitota baay'ee fuudhuu hin qabu; meetii fi warqee baay'isees walitti qabachuu
hin qabu.
18 Inni yommuu teessoo mootummaa isaa irra taa'utti garagalchaa seera kanaa
luboota Lewwota ta'an irraa fudhatee kitaaba maramaa irratti ofii isaatii haa
barreeffatu. 19 Inni akka WAAQAYYO Waaqa isaa sodaachuu baratuuf dubbii seera
kanaa hundaa fi ajajawwan kanneen of eeggannaadhaan duukaa bu'uuf kitaabichi
isa wajjin haa turu; innis bara jireenya isaa guutuu haa dubbisu; 20 kunis akka inni
akka waan obboloota isaa caaluutti of ilaalee seericha irraa gara mirgaatti yookaan
bitaatti hin gorreef. Akkasiinis innii fi sanyiin isaa mootummaa isaa irratti Israa'el
keessatti bara dheeraadhaaf ni moo'u.

# 18

*Qooda Lubootaatii fi Lewwotaa*

1 Luboonni warri Lewwota ta'an jechuunis gosti Lewwii hundi Israa'el wajjin qooda
lafaa yookaan dhaala hin argatan. Isaan aarsaa ibiddaan WAAQAYYOOF dhi'aatu irraa
haa nyaatan; kun qooda isaaniitii. 2 Isaan obboloota isaanii gidduutti dhaala tokko
iyyuu hin qabaatin; akkuma inni isaan abdachiisetti WAAQAYYO dhaala isaaniitii.
3 Qoodni luboonni saba aarsaa kormaa yookaan hoolaa dhi'eessu irraa argachuu
malan foon harkaa, kan mangaagaatii fi mi'a garaa ti. 4 Mataa midhaan keetii,
daadhii wayinii haaraa fi zayitii kee kan jalqabaa akkasumas suufii jalqabaa kan
hoolaa kee irraa haaddu isaanii kennuu qabda; 5 kunis sababii WAAQAYYO Waaqni
kee akka isaan yeroo hunda dhaabatanii maqaa WAAQAYYOOTIIN tajaajilaniif gosoota
kee hunda keessaa sanyii isaanii filateef.
6 Lewwichi tokko yoo magaalaawwan kee kanneen guutummaa Israa'el keessatti
argaman kam iyyuu keessaa iddoo jiraatuu ba'ee garaa guutuudhaan iddoo
WAAQAYYO Waaqni filatu dhufe, 7 innis akkuma Lewwota fuula WAAQAYYOO dura
dhaabatanii tajaajilaniitti achitti maqaa WAAQAYYO Waaqa isaatiin haa tajaajilu. 8 Inni
qabeenya maatii isaa kan gurguramu irraa maallaqa argatu illee Lewwota michoota
isaa wajjin faayidaa argamu wal qixxee hirmaachuu qaba.

### *Hojiiwwan Jibbisiisoo*

9 Ati yommuu biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennutti galtutti, hojii balfamaa
saboonni achi jiraatan hojjetan sana hojjechuu hin baratin. 10 Namni ilma isaa
yookaan intala isaa ibiddatti aarsaa godhu, namni waa himu yookaan falfala hojjetu,
namni milkii ilaalu, tolfattuun, 11 yookaan xibaartuun, ilaaltuun yookaan eker
dubbistuun yookaan namni nama du'e wajjin dubbatu tokko iyyuu gidduu keetti
hin argamin. 12 Namni waan akkasii hojjetu kam iyyuu fuula WAAQAYYOO duratti
balfamaa dha; sababii hojii jibbisiisaa kanaatiifis WAAQAYYO Waaqni fuula kee duraa
saboota ari'ee ni baasa. 13 Ati fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti hir'ina malee
jiraachuu qabda.

### *Raajii*

14 Saboonni ati lafa isaanii irraa buqqiftu warra falfala hojjetan yookaan warra
ilaalanii dha. Garuu akka ati waan akkasii hojjettu WAAQAYYO Waaqni kee siif hin
eeyyamamne. 15 WAAQAYYO Waaqni kee obboloota kee keessaa raajii akka kootii
tokko siif kaasa. Atis isa dhaga'uu qabda. 16 Wanni ati gaafa waldaan Kooreebitti
walitti qabame, "Ani akka hin duuneef lammata sagalee WAAQAYYO Waaqa kootii hin
dhaga'u yookaan ibidda guddaa kana si'achi hin argu" jettee WAAQAYYOON Waaqa
kee kadhatte kanaatii.
17 WAAQAYYO akkana naan jedhe: "Wanni isaan jedhan gaarii dha. 18 Ani raajii
akka keetii obboloota isaanii gidduudhaa isaaniif nan kaasa; dubbii koo afaan isaa
keessa nan kaa'a; innis waan ani isa ajaju hunda isaanitti hima. 19 Nama dubbii koo
kan raajiin maqaa kootiin dubbatu dhaga'uu didu kam iyyuu, ani mataan koo isa
nan gaafadha. 20 Garuu raajiin waan maqaa kootiin dubbatu fakkeessee waan ani
akka inni dubbatu isa hin ajajin kam iyyuu dubbatu yookaan kan maqaa waaqota
biraatiin dubbatu haa ajjeefamu."
21 Ati garaa keetti, "Nu dubbii WAAQAYYO nutti hin dubbatin akkamitti beekuu
dandeenya?" jetta ta'a. 22 Yoo wanni raajiin tokko maqaa WAAQAYYOOTIIN dubbate
utuu hin guutamin hafe, dubbiin sun dubbii WAAQAYYO hin dubbatinii dha. Raajiin
sun itti fakkeessee dubbateeraatii isa hin sodaatin.

## 19

### *Magaalaawwan Itti Baqatan*

*19:1-14 kwi – Lak 35:6-34; KeD 4:41-43; Iya 20:1-9*

1 Yommuu Waaqayyo Waaqni kee saboota biyya isaanii siif kennu balleessutti,
yommuu ati ariitee isaan baaftee magaalaawwanii fi manneen isaanii keessa
qubattutti, 2 walakkaa biyya Waaqayyo Waaqni kee akka ati dhaaltuuf siif kennutti
ofii keetiif magaalaawwan sadii addaan baafadhu. 3 Akka namni nama ajjeese kam
iyyuu itti baqatuuf daandiiwwan hojjedhuutii biyya Waaqayyo Waaqni kee akka
dhaalaatti siif kennu iddoo sadiitti qoodi.

4 Seerri waa'ee nama nama ajjeesee lubbuu isaa baafachuuf achitti baqatuu
jechuunis kan utuu hammina itti hin yaadin akka tasaa nama ollaa isaa ajjeesuu
tokko ilaalu kanaa dha. 5 Namni tokko yoo muka murachuuf namicha ollaa isaa
wajjin bosona seenee utuu muka muruuf qottoo isaa ol fudhatuu akkuma tasaa sibiilli
irraa buqqa'ee namicha ollaa isaa sana dha'ee ajjeese, namni sun magaalaawwan
kanneen keessaa isa tokkotti baqatee lubbuu ofii isaa oolfachuu danda'a. 6 Yoo kanaa
achii namni haaloo dhiigaa baasu tokko waan namichi nama ajjeese sun utuu duraan
dursee hammina itti hin yaadin ollaa isaa ajjeeseef yoo ajjeefamuu hin qabaatin
illee fagoo ta'u iyyuu inni aariidhaan duukaa bu'ee qaqqabee isa ajjeesuu danda'a.
7 Sababiin ani akka ati magaalaa sadii ofii keetiif addaan baafattu si ajajeefis kanuma.

8 Yoo Waaqayyo Waaqni kee akkuma abbootii keetiif kakuudhaan waadaa gale
sanatti biyya kee siif bal'isee biyya waadaa isaaniif gale sana guutummaatti siif
kenne, 9 ati Waaqayyoon Waaqa kee akka jaallachuu fi yeroo hunda karaa isaa
irra akka deemtuuf ajajawwan ani har'a siif kennu hunda akka gaariitti yoo eegde,
magaalaawwan kanneen irratti magaalaawwan sadii ni dabalatta. 10 Akka lafa kee
kan Waaqayyo Waaqni kee dhaala godhee siif kennu keessatti dhiigni nama qulqulluu
hin dhangalaanee fi atis yakka dhiiga dhangalaasuutti akka hin gaafatamneef waan
kana godhi.

11 Garuu yoo namni tokko nama ollaa isaa jibbee riphee eeggachuudhaan miidhaa
irraan ga'ee isa ajjeesee ergasii immoo magaalaawwan kanneen keessaa tokkotti
baqate, 12 maanguddoonni magaalaa inni keessa jiraachaa turee nama itti erganii
magaalaa inni itti baqate sanaa isa haa fichisiisan; akka inni ajjeesuufis nama haaloo
dhiigaa ba'utti dabarsanii isa haa kennan. 13 Garaa hin laafiniif; akka siif toluuf yakka
dhangalaafama dhiiga nama qulqulluu Israa'el keessaa balleessi.

14 Biyya Waaqayyo Waaqni kee akka dhaaltuuf siif kennu keessatti dhaala
dabarfamee siif kennamu irratti dhagaa mallattoo daangaa ollaa keetii kan namoonni
durii dhaaban hin hiiqsin.

### *Dhuga Baatota*

15 Nama yakka yookaan seera cabsuu kamiin iyyuu himatame tokkotti muruuf
dhuga ba'umsi nama tokkoo ga'aa miti. Dubbiin sun dhuga baatota lamaan yookaan
sadiin mirkaneeffamuu qaba.

16 Yoo dhuga baatuun jal'aan tokko sobaan nama tokkotti dhugaa ba'e, 17 namoonni
wal dhaban lamaan fuula Waaqayyoo duratti lubootaa fi abbootii murtii kanneen
yeroo sanatti hojii irra jiran dura haa dhaabatan. 18 Abbootiin murtiis dubbicha
gad fageessanii haa qoran; yoo dhuga baatuun sun sobduu ta'uun isaa mirkanaa'ee
obboleessa isaa irratti sobaan dhugaa ba'e, 19 waanuma inni obboleessa isaa gochuu
yaade sana isa godhaa. Ati hamaa of keessaa baasuu qabda. 20 Namoonni hafan
waan kana dhaga'anii ni sodaatu; wanni hamaan akkasiis lammata gidduu keetti hin
hojjetamu. 21 Ati gara laafina tokko iyyuu hin argisiisin; qooda lubbuu lubbuun,
qooda ijaa ijji, qooda ilkaanii ilkaan, qooda harkaa harki, qooda miillaas miilli
baafamuu qaba.

# 20

### *Waraanaaf Ba'uu*

1 Sababii WAAQAYYO Waaqni kee inni biyya Gibxiitii si baase sun si wajjin jiruuf
yommuu diinota kee loluuf baatutti fardeenii fi gaariiwwan akkasumas humna
waraanaa kan humna waraanaa kee caalu argitutti hin sodaatin. 2 Yommuu ati
waraanatti dhi'aattutti lubni fuula duratti ba'ee loltootatti haa dubbatu. 3 Innis
akkana haa jedhu; "Yaa Israa'el, isin har'a diinota keessan loluuf waraanatti seenuuf
jirtu. Garaan keessan hin raafamin yookaan hin sodaatinaa; hin na'inaa yookaan
fuula diinota keessanii duratti hin hollatinaa. 4 Kan mo'annaa isiniif kennuuf jedhee
diinota keessan isiniif loluuf isin wajjin ba'u WAAQAYYO Waaqa keessaniitii."
5 Ajajjoonni loltootaa immoo loltootaan akkana haa jedhan: "Namni mana haaraa
ijaaree hin eebbisiisin tokko iyyuu jiraa? Inni gara mana isaatti haa deebi'u; yoo
kanaa achii inni waraana irratti du'ee namni biraa mana isaa eebbisa. 6 Namni
wayinii dhaabee irraa hin nyaatin jiraa? Inni gara mana isaa haa deemu; yoo
kanaa achii inni lola keessatti du'ee namni biraa wayinii sana nyaata. 7 Namni
niitii fuudhuuf kadhatee utuu hin fuudhin dhufe jiraa? Inni gara mana isaa haa
deemu; yoo kanaa achii inni lola irratti du'ee namni biraa ishee fuudha." 8 Ajajjoonni
loltootaa ammas, "Namni sodaatu yookaan kan garaan isaa raafamu jiraa? Akka
garaan obboloota isaas hin raafamneef inni gara mana isaatti haa deebi'u" haa
jedhan. 9 Ajajjoonni yommuu loltootatti dubbatanii raawwatanitti loltoota irratti
ajajjoota haa muudan.
10 Ati yommuu magaalaa tokko dha'uuf baatutti, duraan dursii namoota magaalaa
sana keessa jiraataniif waamicha nagaa godhi. 11 Yoo isaan tole jedhanii balbala
siif banan, namni hundi siif haa bulu; hojjetaa kees haa ta'u. 12 Yoo isaan
waamicha nagaa fudhachuu didanii waraanaaf sitti ba'an ati magaalattii marsi.
13 Yommuu WAAQAYYO Waaqni kee dabarsee isaan sitti kennutti dhiirota magaalattii
keessa jiraatan hunda goraadeedhaan fixi. 14 Garuu nadheenii fi ijoollee, horii fi
waan magaalattii keessatti argamu hunda booji'iitii ofii keetii fudhadhu; ati boojuu
WAAQAYYO Waaqni kee diinota kee irratti siif kennetti fayyadamuu ni dandeessa.
15 Akki ati magaalaawwan saboota naannoo keetii hin ta'in kanneen akka malee fagoo
ta'an gootus kanuma.
16 Ta'us magaalaawwan saboota WAAQAYYO Waaqni kee akka dhaalaatti siif kennu
keessatti waan hafuura baafatu tokko illee hin hambisin. 17 Akkuma WAAQAYYO
Waaqni kee si ajajetti guutumaan guutuutti isaan barbadeessi; isaanis Heetota,
Amoorota, Kana'aanota, Feerzota, Hiiwotaa fi Yebuusota. 18 Yoo kanaa achii akka
ati waan jibbisiisaa isaan waaqota isaanii waaqeffachuudhaan hojjetan sana duukaa
buutu si barsiisu; atis WAAQAYYO Waaqa keetti cubbuu hojjetta.
19 Ati yommuu yeroo dheeraadhaaf magaalaa sana marsitee qabachuudhaaf ishee
waraantutti, mukkeen ishee qottoodhaan cirtee hin balleessin; ati midhaan isaanii
nyaachuu dandeessaatii isaan hin cirin. Ati kan isaan marsitu mukkeen bosonaa
namoota ta'aniitii? 20 Garuu hamma magaalaan si wajjin wal loltu sun kuftutti
mukkeen akka isaan gumaa hin naqanne beektu murtee hojii ijaarsa marsuutiif itti
fayyadamuu ni dandeessa.

# 21

### *Aarsaa Ajjeechaa Hin Beekamneef Dhi'eeffamu*

1 Yoo namni tokko biyya WAAQAYYO Waaqni kee akka dhaaltuuf siif kennu keessatti
du'ee argamee namni isa ajjeese hin beekamin, 2 maanguddoonni keetii fi abbootiin
murtii kee dhaqanii fageenya iddoo inni itti du'ee fi magaalaawwan itti dhi'aatan

gidduu jiru haa safaran. 3 Ergasiis maanguddoonni magaalaa reeffichatti aantu
keessa jiraatan goromsa takkumaa hin hojjetin kan waanjoo hin baatin fuudhanii
4 goromsa sana gara sulula hin qotamin yookaan wanni tokko iyyuu irra hin
facaafamin kan bishaan yaa'u qabuutti haa geessan. Sulula sana keessattis morma
goromsa sanaa haa cabsan. 5 Luboonni jechuunis ilmaan Lewwii sababii akka
tajaajilanii fi akka maqaa WAAQAYYOOTIIN eebbisaniif, akka dubbii wal dhabiisaatii
fi miidhaa dhagnaa kami irratti iyyuu murtii kennaniif WAAQAYYO Waaqa keetiin
filatamaniif isaan fuulduraatti haa dhi'aatan. 6 Ergasii maanguddoonni magaalaa
reeffichatti baay'ee dhi'aatuu hundi goromsa sulula keessatti mormi cabsame sana
irratti harka isaanii haa dhiqatan. 7 Isaanis akkana haa jedhan: "Harki keenya
dhiiga kana hin dhangalaafne yookaan yommuu wanni kun hojjetame iji keenya hin
argine. 8 Yaa WAAQAYYO, aarsaa araaraa kana saba kee Israa'el kan furte sanaaf
fudhadhu; dhiiga nama qulqulluu kanaas saba keetti hin herregin. Yakkii dhiiga
dhangalaafamees isaanii haa dhiifamu. 9 Atis sababii waan fuula WAAQAYYOO duratti
qajeelaa ta'e hojjetteef yakka dhangalaafamuu dhiiga nama qajeelaa akkasiin gidduu
keetii ni balleessita."

### *Dubartii Booji'amte Fuudhuu*

10 Ati yommuu diinota kee loluuf duultee WAAQAYYO Waaqni kee dabarsee harka
keetti isaan siif kennee boojuu fudhattutti, 11 yoo warra booji'aman keessatti dubartii
bareedduu tokko argitee ishee jaallatte niitii ofii keetii godhattee ishee fuudhuu
dandeessa. 12 Mana keetti ishee galchi; isheenis mataa ishee haa haaddattu; qeensa
ishees haa qorattu; 13 uffata isheen yeroo booji'amtetti uffachaa turtes irraa baasi.
Erga isheen mana kee keessa jiraattee ji'a tokko guutuu abbaa fi haadha isheetiif
boossee booddee ati ishee wajjin ciiftee dhirsa ishee ta'uu dandeessa; isheenis niitii
kee ni taati. 14 Ati yoo isheetti gammaduu baatte akka isheen gara feete deemtu
gad dhiisi. Ati waan ishee salphifteef ishee gurguruu yookaan akka garbittiitti ishee
ilaaluu hin qabdu.

### *Mirga Hangafaa*

15 Namni tokko yoo niitota lama qabaatee ishee tokko jaallatee garuu lamaan isaanii
iyyuu ilmaan da'aniif, yoo ilmi hangafni niitii inni hin jaallanne sana irraa dhalate,
16 namichi yommuu qabeenya isaa ilmaan isaatiif qoodutti mirga hangafummaa ilma
niitii jibbe sanaa ilma niitii jaallatuutiif dabarsee kennuu hin qabu. 17 Garuu ilma
hangafticha niitii hin jaallanne sana irraa dhalcheef qooda dhaala isaa keessaa harka
lama kennuufiidhaan isa beeksisuu qaba. Ilmi sun mallattoo jalqabaa kan jabina
abbaa isaa ti. Mirgi hangafummaa kan isaa ti.

### *Ilma Hin Ajajamne*

18 Namni tokko yoo ilma mata jabeessaa fi fincilaa abbaa fi haadha isaatiif hin
ajajamnee fi kan yommuu isa adaban hin dhageenye qabaate, 19 abbaa fi haati isaa
qabanii balbala magaalaa isaa duratti maanguddootatti isa haa fidan. 20 Isaanis,
"Gurbaan keenya kun mata jabeessaa fi fincilaa dha; nuuf hin ajajamu; inni
albaadhessaa fi machooftuu dha" jedhanii maanguddootatti haa himan. 21 Ergasiis
namoonni magaalaa isaa hundi dhagaadhaan tumanii isa ajjeesu. Ati hamaa of
gidduudhaa baasuu qabda. Israa'eloonni hundi waan kana dhaga'anii ni sodaatu.

### *Seerawwan Garaa garaa*

22 Yoo namni tokko cubbuu adabbii du'a isatti mursiisu hojjetee ajjeefamee reeffi
isaa mukatti fannifame, 23 ati reeffa isaa muka irra bulchuu hin qabdu. Waan namni
muka irratti fannifamu abaarsa Waaqaa jala jiruuf isa gaafuma sana awwaali. Ati
biyya WAAQAYYO Waaqni kee akka dhaalaatti siif kennu hin xureessin.

# 22

1 Utuu sangaan yookaan hoolaan obboleessa keetii badaa jiruu yoo argite, deebisiitii
isatti fidi malee cal'iftee bira hin darbin. 2 Yoo obboleessi sun sirraa fagoo jiraate
yookaan yoo isa beekuu baatte sangaa yookaan hoolaa sana fuudhii galiitii hamma
inni barbaacha dhufutti of bira tursi. Ergasii deebisii isaaf kenni. 3 Yoo harreen
yookaan wayyaan yookaan wanni fedhe iyyuu obboleessa kee jalaa badee argite
akkasuma godhi malee dhiiftee bira hin darbin.

4 Yoo harreen yookaan sangaan obboleessa keetii karaa irratti kufee argite akka
inni ol kaasee miilla isaatiin dhaabu gargaari malee bira hin darbin.

5 Dubartiin uffata dhiiraa uffachuu hin qabdu yookaan dhiirri uffata dubartii
uffachuu hin qabu; WAAQAYYO Waaqni kee nama waan akkasii hojjetu kam iyyuu
ni jibbaatii.

6 Ati yoo mana simbiraa kan muka irra yookaan lafa jiru utuu haati cuucii ishee
yookaan anqaaquu ishee hammattee jirtuu karaa cinatti argite haadha sana cuucii
ishee wajjin hin fudhatin; 7 ati cuucii ishee fudhachuu ni dandeessa; garuu akka siif
tolee bara dheeraa jiraattuuf akka haadha gad dhiifte mirkaneeffadhu.

8 Yommuu mana haaraa ijaartutti akka namni bantii manaa irraa kufee mana keetti
yakka dhangala'uu dhiigaa hin fidneef qarqara bantii isaatti ittisa tolchi.

9 Iddoo dhaabaa wayinii keetii keessa sanyii gosa lamaa hin facaasin; yoo ati akkas
goote sanyii ati facaafte sana qofa utuu hin ta'in iji iddoo dhaabaa wayinii keetiis ni
bada.

10 Qotiyyoo fi harree walitti camaddee ittiin hin qotin.

11 Uffata suufii fi quncee talbaa kan walitti fo'amee dha'ame hin uffatin.

12 Roga wayyaa uffattuu afran irratti handaara tolchi.

### *Rakkina Gaa'ela Keessatti Uumamu*

13 Yoo namni tokko niitii fuudhee erga ishee wajjin ciisee booddee ishee jibbee,
14 ishees qaanessee maqaa balleessuudhaan, "Ani niitii tana fuudheera; garuu
yommuu ani ishee wajjin ciisetti waan durbummaa ishee mirkaneessu hin arganne"
jedhee, 15 abbaa fi haati intalattii ragaa durbummaa ishee mirkaneessu balbala irratti
maanguddoota magaalattiitti haa dhi'eessan. 16 Abbaan intalattiis maanguddootaan
akkana haa jedhu; "Ani intala koo nama kanatti heerumsiiseera; inni garuu ishee
jibbe. 17 Maqaa ishees balleessee, 'Ani intala kee durbummaa isheetiin hin arganne'
jedhe. Garuu ragaan durbummaa intala kootii mirkaneessu kunoo ti." Kana irratti
abbaa fi haati ishee fuula maanguddoota magaalattii duratti wayyaa sana haa
diriirsan; 18 maanguddoonni sunis namicha sana qabanii haa adaban. 19 Isaanis
sababii namichi kun maqaa durba Israa'el tokkoo xureesseef meetii saqilii dhibba
tokko baasisanii abbaa intalattiitiif haa kennan; isheen niitii isaa taatee haa jiraattu;
innis hamma lubbuudhaan jirutti ishee hiikuu hin danda'u.

20 Ta'us yoo himannaan dhi'aate sun dhugaa ta'ee ragaan durbummaa intalattii
mirkaneessu hin argamin, 21 isheen balbala mana abbaa ishee duratti fidamtee
namoonni magaalaa ishee hamma isheen duututti dhagaadhaan ishee haa tuman;
isheen utuma mana abbaa ishee jirtuu sagaagaluudhaan gocha Israa'el keessatti
qaanii ta'e hojjetteerti. Ati gidduu keetii waan hamaa baasuu qabda.

22 Yoo namni tokko utuu niitii nama biraa wajjin ciisuu argame lamaan isaanii
iyyuu, namichi ishee wajjin ciisee fi dubartiin sun ajjeefamuu qabu. Ati Israa'el
keessaa waan hamaa baasuu qabda.

23 Yoo namni tokko durba kaadhimamte magaalaatti argee ishee wajjin ciise,
24 waan isheen utuu magaalaa keessa jirtuu na oolchaa jettee hin iyyiniif, namichi
immoo waan niitii nama biraa salphiseef, lamaan isaanii iyyuu gara balbala

magaalaatti geessaatii hamma isaan du’anitti dhagaadhaan tumaa. Waan hamaa
gidduu keessanii balleessaa.
25 Garuu yoo namni tokko durba kadhatamte tokko baadiyyaatti argee ishee
gudeede, namichi waan kana godhe qofti haa ajjeefamu. 26 Intalattii hin tuqinaa;
isheen cubbuu du’aan ishee ga’u tokko iyyuu hin hojjenneetii. Dubbiin akkasii nama
balaa buusee namicha ollaa isaa ajjeesuun wal fakkaata; 27 kunis waan namichi durba
kaadhimamte sana baadiyyaatti argatee yoo iyyite illee namni isheef birmatu hin
argamneef.
28 Namni tokko yoo durba hin kaadhimamin tokko argee humnaan ishee gudeedee
wanni kun beekame, 29 inni abbaa isheetii fi meetii saqilii shantama haa baasu. Inni
waan gudeedee durbummaa ishee balleesseef ishee fuudhuu qaba. Hamma lubbuun
jiruttis ishee hiikuu hin danda’u.
30 Namni tokko niitii abbaa isaa fuudhuu hin qabu; inni siree abbaa isaa hin
xureessin.

# 23

### *Waldaa Irraa Dhowwamuu*

1 Namni kolaafame yookaan dhagni saala isaa irraa murame kam iyyuu waldaa
Waaqayyoo hin seenin.
2 Namni haraamuudhaan dhalate yookaan sanyiin isaa kam iyyuu hamma dhaloota
kurnaffaatti waldaa Waaqayyoo hin seenin.
3 Namni gosa Amoon yookaan gosa Mo’aab yookaan sanyiin isaa kam iyyuu
hamma dhaloota kurnaffaatti waldaa Waaqayyoo hin seenin. 4 Isaan yeroo ati Gibxii
baatetti karaa irratti buddeenaan yookaan bishaaniin si hin simanne; qooda kanaa
akka inni si abaaruuf Bala’aam ilma Be’oor namicha biyya Phetoor ishee Phaadaan
Arraamitti argamtu sana keessa jiraatu sitti bitan. 5 Ta’us Waaqayyo Waaqni kee
abaarsa sana eebbatti siif geeddare malee Bala’aamin hin dhageenye; Waaqayyo
Waaqni kee si jaallataatii. 6 Ati hamma lubbuudhaan jirtutti akka isaan nageenyaa fi
badhaadhummaa qabaatan hin barbaadin.
7 Waan inni obboleessa kee ta’eef nama gosa Edoom hin tuffatin. Ati sababii akka
alagaatti biyya isaa keessa jiraatteef nama Gibxi hin tuffatin. 8 Ijoolleen dhaloota
sadaffaa kanneen isaaniif dhalatan waldaa Waaqayyoo seenuu ni danda’u.

### *Qulqullina Qubataa Eeguu*

9 Yommuu diinota kee loluuf baatutti xuraa’ummaa hunda irraa of eegi. 10 Namni
tokko yoo halkan afeetaa dhangalaasuudhaan of xureesse inni qubata keessaa gad
ba’ee ala haa turu. 11 Gara galgalaa garuu dhiqatee yeroo aduun dhiitutti gara
qubataatti haa deebi’u.
12 Ati qubataan alatti lafa itti gad baatu qopheeffadhu. 13 Meeshaa kee keessaa waan
ittiin lafa qottu qabaadhu; ati yommuu gad teessee kaatutti boolla qotiitii biyyoo itti
deebisi. 14 Waaqayyo Waaqni kee si eeguu fi diinota kee dabarsee sitti kennuudhaaf
qubata kee keessa deddeebi’aatii; akka inni gidduu keetti waan xuraa’aa argee sirraa
hin deebineef qubanni kee qulqulluu ta’uu qaba.

### *Seerawwan Garaa garaa*

15 Yoo garbichi tokko kooluu sitti gale, ati dabarsitee gooftaa isaatti isa hin kennin.
16 Inni gidduu kee lafa jaallatee fi magaalaa filate keessa haa jiraatu. Atis isa hin
cunqursin.
17 Dhiirri yookaan dubartiin Israa’el kam iyyuu sagaagaltuu mana waaqa tolfamaa
hin ta’in. 18 Dubartii yookaan dhiira sagaagalu tokko irraa akka galchaatti kennaa

fuutee mana WAAQAYYO Waaqa keetiitti hin fidin; lachan isaanii iyyuu fuula
WAAQAYYO Waaqa keetii duratti jibbisiisoo dhaatii.
19 Ati maallaqa yookaan nyaata yookaan waan dhala argamsiisu kam iyyuu dhalaan
obboleessa keetiif hin liqeessin. 20 Ati nama ormaa irraa dhala gaafachuu ni
dandeessa; garuu akka WAAQAYYO Waaqni kee biyya ati dhaaluuf itti galtutti waan
harki kee tuqe hundaan si eebbisuuf obboleessa kee irraa dhala hin fudhatin.
21 Ati yoo WAAQAYYO Waaqa keetiif wareega tokko wareegde, sababii WAAQAYYO
Waaqni kee cimsee waan sana sirraa barbaaduuf akka cubbuu sitti hin taaneef dafiitii
of irraa baasi malee lafa irra hin harkisin. 22 Yoo wareeguu baatte garuu ati cubbamaa
hin taatu. 23 Waan arrabni kee dubbate gochuuf of eeggadhu; afaanuma keetiin
jaallattee WAAQAYYO Waaqa keetiif wareegdeertaatii.
24 Ati yoo iddoo dhaabaa wayinii ollaa keetii keessa seente, ija feete hunda nyaadhu;
garuu tokko illee guuboo kee keessa hin kaa'atin. 25 Yoo lafa qotiisaa midhaan
ollaa keetii keessa seente, asheetii cirachuu ni dandeessa; garuu midhaan isaa kan
dhaabatutti haamtuu kee hin buusin.

# 24

1 Namni tokko erga niitii fuudhee booddee yoo waan fafaa ishee irratti argee ishee
jibbe, inni waraqaa ragaa hiikkaa barreessee itti kennuudhaan mana isaatii baasee
ishee haa geggeessu. 2 Isheen erga mana isaatii baatee booddee yoo niitii nama
biraa taate, 3 yoo dhirsi ishee lammaffaan ishee jibbee waraqaa hiikkaa barreessee
kenneefii mana isaatii ishee baase yookaan yoo inni du'e, 4 dhirsi inni jalqabaa kan
ishee hiike sun erga isheen xurooftee booddee deebi'ee ishee fuudhuun isaaf hin
eeyyamamu. Wanni kun fuula WAAQAYYOO duratti balfamaa dha. Ati biyya WAAQAYYO
Waaqni kee akka dhaalaatti siif kennutti cubbuu hin fidin.
5 Namni dhi'eenyatti niitii fuudhe tokko lafa waraanaatti hin ergamin yookaan akka
hojii biraa hojjetu hin dirqamin; inni waggaa tokkoof mana ofii isaa haa turu; niitii
isaas haa gammachiisu.
6 Ati dhagaa daakuutii fi majii isaa yookaan majii isaa qofa illee taanaan akka
qabdiitti hin fudhatin; kun lubbuu namaa qabdii godhanii fudhachuu ta'aatii.
7 Namni tokko yoo obboleessa isaa kan gosa Israa'el tokko hatee garbicha godhate
yookaan gurgurate inni ajjeefamuu qaba. Ati waan hamaa gidduu keetii baasi.
8 Waa'ee nama lamxaa'ee garuu akkuma Lewwonni luboota ta'an qajeelcha
siif kennan sanatti hojjechuu kee qalbeeffadhu. Ati waan ani isaan ajaje of
eeggannaadhaan duukaa bu'uu qabda. 9 Waan WAAQAYYO Waaqni kee erga isin biyya
Gibxiitii baatanii booddee karaa irratti Miiriyaamitti fide sana yaadadhu.
10 Yommuu ollaa keetiif liqii gosa kamii iyyuu kennitutti waan inni akka qabdiitti
siif kennu fudhachuudhaaf mana isaa hin seenin. 11 Ati ala turiitii namichi ati waa
liqeessituuf sun qabdii siif kennu sana siif haa fidu. 12 Yoo namni sun hiyyeessa ta'e
qabdii isaa of bira hin bulchin. 13 Akka inni kootii isaa uffatee buluuf utuu aduun
hin dhi'in deebisiif. Innis si eebbisa; wanni kun immoo fuula WAAQAYYO Waaqa keetii
duratti akka hojii qajeelummaatti siif hedama.
14 Obboleessa kee nama gosa Israa'el yookaan alagaa magaalaawwan kee tokko
keessa jiraatu illee taanaan hiyyeessa yookaan rakkataa qaxarame tokko hin saamin.
15 Gatii inni ittiin hojjete gaafuma sana utuu aduun hin lixin kenniif; waan hiyyeessa
ta'eef inni abdiidhaan eegataatii. Yoo kanaa achii inni WAAQAYYOON sitti waammatee
wanni kun cubbuu sitti ta'a.
16 Abbootiin sababii ijoollee isaaniitiif ajjeefamuu hin qaban yookaan ijoolleen
sababii abbootii isaaniitiif ajjeefamuu hin qaban; tokkoon tokkoon namaa sababii
cubbuu ofii isaatiif du'a.

17 Ati murtii alagaa yookaan ijoollee abbaa hin qabnee hin jal'isin yookaan uffata
haadha hiyyeessaa qabdii hin fudhatin. 18 Ati akka biyya Gibxitti garbicha turtee fi
akka WAAQAYYO Waaqni kee achii si fure yaadadhu. Wanni ani akka ati waan kana
hojjettuuf si ajajuufis kanuma.

19 Yommuu midhaan lafa qotiisaa keetii walitti qabdutti yoo bissiin hafe jiraate
isaaf jettee duubatti hin deebi'in; akka WAAQAYYO Waaqni kee hojii harka keetii
hundaan si eebbisuuf alagoota, ijoollee abbaa hin qabnee fi haadha hiyyeessaatiif
dhiisi. 20 Yommuu ija muka ejersa keetii harcaaftuttis kan hafe funaannachuuf
jettee hin deebi'in; waan hafe sana alagaaf, ijoollee abbaa hin qabnee fi haadha
hiyyeessaatiif dhiisi. 21 Yommuu ija iddoo dhaabaa wayinii keetii walitti qabduttis
waan hafe funaannachuudhaaf hin deebi'in. Waan hafe sana alagaadhaaf, ijoollee
abbaa hin qabnee fi haadha hiyyeessaatiif dhiisi. 22 Ati akka Gibxitti garbicha turte
yaadadhu. Wanni ani akka ati waan kana gootu si ajajuufis kanuma.

# 25

1 Yoo namoonni lama wal dhabanii gara mana murtii dhufan, abbootiin seeraa isa
qulqulluu gad dhiisanii isa yakka qabutti muruu qabu. 2 Yoo namicha balleessaa
qabu sanaaf garafamuun male abbaan murtii akka inni ciisu godhee fuula namichaa
duratti lakkoobsa yakka isaatiif maluun isa haa garafsiisu; 3 ta'us inni afurtama
caalaa isa hin garafsiisin. Inni kana caalaa yoo garafame obboleessi kee fuula kee
duratti ni qaana'a.

4 Qotiyyoo midhaan siribsiisuutti jiru afaan hin hidhin.

5 Yoo obboloonni wajjin jiraatanii isaan keessaa tokko utuu ilma hin dhalchin du'e,
niitiin isaa maatiidhaa alatti heerumuu hin qabdu. Waarsaan ishee ishee fuudhee
niitii haa godhatu; waan waarsaan tokko guutuufii qabus isheedhaaf haa guutu.
6 Akka maqaan isaa Israa'el gidduudhaa hin badneef ilmi isheen deessu hangafni
maqaa obboleessa du'e sanaatiin haa waamamu.

7 Ta'us yoo namichi sun niitii obboleessa isaa fuudhuu hin barbaanne isheen gara
balbala magaalaatti maanguddoota bira dhaqxee, "Waarsaan koo maqaa obboleessa
isaa Israa'el keessatti waamsisuu dideera. Inni waan waarsaan tokko guutuu qabu
naaf hin guutu" haa jettuun. 8 Ergasii maanguddoonni magaalaa isaatii waamanii
isa haa haasofsiisan. Yoo inni yaada isaa geeddarachuu didee, "Ani ishee fuudhuu
hin fedhu" jedhe, 9 niitiin obboleessa isaa sun fuula maanguddootaa duratti gara isaa
dhaqxee kophee miilla isaa tokko irraa baafti; fuula isaattis tuftee, "Nama obboleessa
isaatiif mana hin dhaabne irratti waan akkanaatu raawwatama" haa jettu. 10 Sanyiin
nama sanaas Israa'el keessatti, "Maatii kopheen irraa baafame" jedhamee waamama.

11 Yoo utuu namoonni lama wal lolanii, niitiin isa tokkoo dhuftee dhirsa ishee harka
namicha isa tumaa jiru sanaatii baasuuf harka ishee hiixattee saala namichaa qabde,
12 ati harka ishee irraa muri. Garaa hin laafiniif.

13 Korojoo kee keessaa madaaliiwwan wal caalan lama jechuun tokko ulfaataa
tokko immoo kan hin ulfaanne hin qabaatin. 14 Mana kee keessaa safartuuwwan
garaa garaa lama jechuunis tokko guddaa tokko immoo xinnaa hin qabaatin. 15 Ati
akka biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu keessa bara dheeraa jiraattuuf madaalii
fi safartuu qajeelaa fi amanamaa ta'e qabaadhu. 16 WAAQAYYO Waaqni kee nama
waan akkasii hojjetu kam iyyuu, nama jal'ina hojjetu kam iyyuus ni balfaatii.

17 Waan Amaaleqoonni yeroo ati Gibxii baatu karaa irratti si godhan sana
yaadadhu. 18 Isaan yeroo ati dadhabdee bututtee turtetti karaa irratti si argatanii
warra duubaan tirachaa turan hunda ajjeesan; Waaqas hin sodaanne. 19 Yommuu
WAAQAYYO Waaqni kee biyya dhaala godhee siif kennu keessatti diinota naannoo

keetii irraa boqonnaa siif kennutti, yaadannoo Amaaleq samii jalaa balleessi. Waan kana hin dagatin!

# 26

*Ija Jalqabaa*

1 Ati yommuu biyya WAAQAYYO Waaqni kee dhaala godhee siif kennutti galtee
dhaaltee keessa qubattutti, 2 midhaan lafa biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu
irraa argattu hunda irraa mataa isaa fuudhiitii guuboo keessa kaa'i. Ergasiis iddoo
WAAQAYYO Waaqni kee iddoo jireenya Maqaa isaatiif filatu dhaqi; 3 luba yeroo sanatti
hojii irra jiruun, "Ani biyya WAAQAYYO akka nuu kennu abbootii keenyaaf waadaa
galetti dhufuu koo har'a fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti nan labsa" jedhi.
4 Lubni sunis guuboo sana si harkaa fuudhee iddoo aarsaa WAAQAYYO Waaqa keetii
dura ni kaa'a. 5 Atis WAAQAYYO Waaqa kee duratti akkana jettee ni labsita; "Abbaan
koo nama biyya Arraam kan asii fi achi godaanu ture; innis namoota xinnoo fudhatee
Gibxitti gad bu'e; achis jiraatee saba guddaa, humna qabeessaa fi akka malee baay'ee
ta'e. 6 Warri Gibxi garuu nu hacuucuu fi nu dhiphisuudhaan hojii jabaa nutti fe'an.
7 Nu ergasii gara WAAQAYYO Waaqa abbootii keenyaatti iyyanne; WAAQAYYOS sagalee
keenya dhaga'ee rakkina keenya, dadhabbii keenyaa fi hacuucamuu keenya arge.
8 Kanaafuu WAAQAYYO harka jabaa fi irree diriirfameen, sodaachisa guddaadhaan,
mallattoo fi dinqiidhaan Gibxii nu baase. 9 Iddoo kanattis nu fidee biyya aannanii fi
damma baaftu kana nuuf kenne; 10 ammas yaa WAAQAYYO kunoo, ani midhaan lafa ati
naa kennitee irraa mataa isaa fideera." Guuboo sanas fuula WAAQAYYO Waaqa keetii
dura kaa'iitii fuula isaa duratti gad jedhii sagadi. 11 Ati, Lewwonnii fi alagoonni
gidduu kee jiraatan waan gaarii WAAQAYYO Waaqni kee sii fi maatii keetiif kenne
hundaan gammadaa.

12 Yommuu waggaa sadaffaatti jechuunis waggaa itti kennaa kudhan keessaa tokko
baafamutti midhaan kee irraa erga kennaa kudhan keessaa tokko baaftee raawwatee
booddee akka isaan magaalaawwan kee keessatti nyaatanii quufaniif Lewwotaaf,
alagootaaf, ijoollee abbaa hin qabnee fi haadhota hiyyeessaatiif kenni. 13 Ergasii
WAAQAYYO Waaqa keetiin akkana jedhi; "Ani akkuma ajaja kee kan ati na ajajje
hundaatti qooda qulqulluu mana kootii baasee Lewwotaaf, alagootaaf, ijoollee abbaa
hin qabnee fi haadhota hiyyeessaatiif kenneera. Ani ajajawwan kee irraa hin gorre
yookaan tokkoo isaanii illee hin daganne. 14 Ani yeroon gadda irra tures kutaa
qulqulluu sana irraa homaa hin nyaanne; yookaan ani yeroon xuraa'etti isa irraa
waan tokko illee hin fuune; warra du'aniifis hin dhi'eessine; ani WAAQAYYO Waaqa
kootiif ajajameera; waan ati na ajajje hundas hojjedheera. 15 Samii irraa, iddoo
jireenya keetii qulqulluu irraa gad ilaali; saba kee Israa'elii fi biyya akkuma abbootii
keenyaaf waadaa galtetti nuu kennite kan aannanii fi dammi keessaa burqu kana
eebbisi."

*Ajajawwan WAAQAYYOO Duukaa bu'uu*

16 WAAQAYYO Waaqni kee akka ati ajajawwanii fi seerawwan kanneen eegdu har'a
si ajaja; ati akka garaa kee guutuu fi lubbuu kee guutuudhaan isaan eegdu of
eeggadhu. 17 Ati akka WAAQAYYO Waaqa kee ta'ee fi akka karaa isaa irra deddeebitu,
akka qajeelchawwan isaa, ajajawwanii fi seerawwan isaa eegdee isaaf ajajamtu
har'a dubbatteerta. 18 WAAQAYYOS akkuma abdachiise sanatti akka ati saba isaatii
fi qabeenya isaa taatee ajajawwan isaa hunda eegdu har'a dubbateera. 19 Inni
akka saboota uume hundaan olitti galataan, maqaa fi ulfinaan ol si kaasuu fi
akkuma waadaa gale sanaatti akka ati WAAQAYYO Waaqa keetiif saba qulqulluu taatu
dubbateera.

# 27

*Iddoo Aarsaa Kan Tulluu Gebaal Irraa*

1 Musee fi maanguddoonni Israa'el akkana jedhanii saba ajajan; "Ajajawwan
ani har'a isiniif kennu kanneen hunda eegaa. 2 Erga biyya WAAQAYYO Waaqni
kee siif kennutti galuuf Yordaanos ceetanii booddee dhagoota gurguddaa dhaabiitii
nooraa dibi. 3 Yommuu akkuma WAAQAYYO Waaqni abbootii keetii si abdachiisetti
biyya aannanii fi dammi keessaa burqu kan WAAQAYYO Waaqni kee siif kennutti
galuuf ceetutti dubbiiwwan seera kanaa hunda dhagoota irratti barreessi. 4 Ati
erga Yordaanos ceetee booddee akkuma ani har'a si ajajutti dhagoota kanneen
Tulluu Eebaal irra dhaabii nooraa dibi. 5 Achittis WAAQAYYO Waaqa keetiif iddoo
aarsaa kan dhagaa irraa hojjetame dhaabi; mi'a sibiilaa tokko iyyuu hin fayyadamin.
6 Iddoo aarsaa WAAQAYYOO Waaqa keetii dhagaa hin soofaminiin hojjedhu; achi
irrattis WAAQAYYO Waaqa keetiif aarsaa gubamu dhi'eessi. 7 Achittis aarsaa nagaa
qalii nyaadhuutii fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti gammadi. 8 Dhagoota irratti
dubbiiwwan seera kanaa hunda ibsii barreessi."

*Abaarsa Tulluu Gebaal Irratti Labsame*

9 Musee fi Lewwonni luboota ta'an Israa'eloota hundaan akkana jedhan; "Yaa Is-
raa'el, cal'isii dhaga'i! Ati har'a saba WAAQAYYO Waaqa keetii taateerta. 10 WAAQAYYO
Waaqa keetiif ajajamiitii ajajawwan isaatii fi qajeelchawwan ani har'a siif kennu
dhaga'i."

11 Museenis gaafasuma akkana jedhee saba ajaje:

12 Yommuu isin Yordaanosin ceetanitti gosoonni Simi'oon, Lewwii, Yihuudaa,
Yisaakor, Yoosefii fi kan Beniyaam saba eebbisuuf gaara Gerziim irra haa dhaabatan.
13 Gosoonni Ruubeen, Gaad, Aasheer, Zebuuloon, Daanii fi Niftaalem immoo abaaruuf
Tulluu Eebaal irra haa dhaabatan.

14 Lewwonni sagalee isaanii ol fudhatanii akkana jedhanii saba Israa'el hundatti
haa labsan:

15 "Namni fakkii soofu yookaan baqsee Waaqa tolfamaa jechuunis waan fuula WAAQAYYOO duratti balfamaa ta'e hojjetu kan waan ogummaa harkaatiin hojjetame dhoksee ol dhaabu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

16 "Namni abbaa isaa yookaan haadha isaa qaanessu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

17 "Namni dhagaa daarii ollaa isaa dhiibu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

18 "Namni nama jaamaa karaa irraa jal'isu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

19 "Namni murtii alagaa, ijoollee abbaa hin qabneetii fi niitota dhirsoonni isaanii irraa du'anii jal'isu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

20 "Namni niitii abbaa isaa wajjin ciisu haa abaaramu; inni siree abbaa isaa xureesseeraatii."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

21 "Namni horii kam iyyuu wajjin wal bira ga'u haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

22 "Namni obboleettii isaa intala abbaa isaa yookaan intala haadha isaa wajjin ciisu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

23 "Namni haadha niitii isaa wajjin ciisu haa abaaramu."

Ergasiis sabni hundi, "Ameen!" haa jedhu.

24 “Namni dhoksaadhaan ollaa isaa ajjeesu haa abaaramu.”
Ergasiis sabni hundi, “Ameen!” haa jedhu.
25 “Namni nama qulqulluu ajjeesuuf jedhee matta’aa fudhatu haa abaaramu.”
Ergasiis sabni hundi, “Ameen!” haa jedhu.
26 “Namni dubbiiwwan seera kanaa eeguudhaan jabaatee hin dhaabanne haa
abaaramu.”
Ergasiis sabni hundi, “Ameen!” haa jedhu.

# 28

### *Eebba Ajajamuudhaan Argamu*

1 Yoo ati guutumaan guutuutti Waaqayyo Waaqa keetiif ajajamtee ajajawwan isaa
kanneen ani har’a siif kennu of eeggannaadhaan duukaa buute, Waaqayyo Waaqni
kee saboota lafa irra jiraatan hundaa olitti ol si qaba. 2 Yoo ati Waaqayyo Waaqa
keetiif ajajamte eebbi kun hundi siif ta’a; si faana deemas:
3 Ati magaalaatti ni eebbifamta; baadiyyaattis ni eebbifamta.
4 Iji gadameessa keetii, iji lafa keetii, iji horii keetii, jabbiin loon keetiitii fi
korbeeyyiin bushaayee keetii ni eebbifamu.
5 Guuboon keetii fi mi’i bukoo keetii ni eebbifamu.
6 Ati yommuu galtu ni eebbifamta; yommuu baatus ni eebbifamta.
7 Waaqayyo akka diinonni kee kanneen sitti ka’an fuula kee duratti mo’ataman ni
godha. Isaan karaa tokkoon sitti dhufu, garuu karaa torbaan si baqatu.
8 Waaqayyo gombisaa keetii fi waan harki kee qabate hundatti eebba isaa ni erga.
Waaqayyo Waaqni kee biyya siif kennu keessatti si eebbisa.
9 Yoo ati ajaja Waaqayyo Waaqa keetii eegdee karaa isaa irra deddeebite, Waaqayyo
akkuma kakuudhaan si abdachiisetti saba isaa qulqulluu godhee si dhaaba. 10 Ergasii
saboonni lafa irra jiraatan hundi akka ati maqaa Waaqayyootiin waamamtu arganii
si sodaatu. 11 Waaqayyo biyya siif kennuuf abbootii keetiif kakate keessatti
ijoolleedhaan, jabbootaa fi midhaan lafaatiin sooruma irra dhangala’aa siif kenna.
12 Waaqayyo yeroodhaan lafa keetti bokkaa ergee hojii harka keetii hunda
eebbisuuf gombisaa badhaadhummaa isaa jechuunis samiiwwan ni bana. Ati
saboota hedduudhaaf ni liqeessita malee tokkoo isaanii irraa iyyuu hin liqeeffattu.
13 Waaqayyo mataa si godha malee eegee si hin godhu. Ati yoo ajajawwan Waaqayyo
Waaqa keetii kanneen ani har’a siif kennu of eeggannaadhaan eegdee duukaa buute,
yeroo hunda irra aanta malee jala hin aantu. 14 Ati waaqota biraa duukaa bu’uu fi
tajaajiluudhaan ajajawwan ani har’a siif kennu kanneen irraa mirgattis bitaattis hin
gorin.

### *Abaarsa Ajajamuu Diduun Fidu*

15 Garuu yoo ati Waaqayyo Waaqa keetiif ajajamuu baattee ajajawwan isaatii fi
qajeelchawwan isaa kanneen ani har’a siif kennu hunda of eeggannaadhaan eeguu
didde, abaarsawwan kunneen hundi si qaqqabu; si liqimsus:
16 Ati magaalaatti ni abaaramta; baadiyyaattis ni abaaramta.
17 Guuboon kee ni abaarama; mi’i bukoo keetiis ni abaarama.
18 Iji gadameessa keetii, iji lafa keetii, jabbiin loon keetiitii fi korbeeyyiin
bushaayee keetii ni abaaramu.
19 Ati yommuu galtu ni abaaramta; yommuu baatu illee ni abaaramta.
20 Ati sababii isa dhiiftee waan hamaa hojjetteef Waaqayyo hamma ati barbadooftee
daftees lafa irraa dhabamtutti waan harki kee hojjetu hundaan abaarsa, joonja’uu fi
dheekkamsa sitti erga. 21 Waaqayyo hamma biyya ati dhaaluuf itti galtu irraa si
balleessutti dhukkubaan si dha’a. 22 Waaqayyo hamma ati lafa irraa dhabamtutti,

dhukkuba nama huqqisuun, dhagna gubaa fi dhullaadhaan, ho'a aduutii fi bona
hamaadhaan, coollaguu fi waagiidhaan si dha'a. 23 Samiin mataa keetii olii naasii,
lafti miilla kee jalaa sibiila ta'a. 24 WAAQAYYO bokkaa lafa keetii awwaaraa fi daaraatti
geeddara; kunis hamma ati baddutti samiidhaa sitti gad harca'a.

25 WAAQAYYO akka ati diina kee duratti mo'atamtu godha. Ati karaa tokkoon
isaanitti dhufta; garuu karaa torbaan isaan duraa baqatta; mootummoota lafa irra
jiran hundaaf waan kolfaa taata. 26 Reeffi kee simbirroota samii hundaa fi bineensota
lafaatiif nyaata ta'a; namni sodaachisee isaan ari'us hin jiraatu. 27 WAAQAYYOs
dhukkuba ati hin fayyine jechuunis dhullaa biyya Gibxiitiin, iitaan, madaa mala'uu
fi cittoodhaan si dhiphisa. 28 WAAQAYYO maraatummaadhaan, jaamummaa fi
burjaaja'uu sammuutiin si dhiphisa. 29 Ati guyyaa saafaa akka jaamaa dukkana
keessa waa qaqqabatuutti deemta; wanni ati hojjettu hundinuu siif hin milkaa'u;
guyyuma guyyaan cunqurfamtee saamamta; kan si oolchus hin jiru.

30 Ati niitii kaadhimatta; garuu nama biraatu ishee wajjin ciisa. Mana ijaarratta;
garuu keessa hin jiraattu. Wayinii dhaabbatta, garuu ija isaa hin nyaattu. 31 Sangaan
kee fuula kee duratti qalama; garuu ati foon isaa irraa homaa hin nyaattu. Harreen
kee humnaan sirraa fudhatama; siif hin deebifamus. Hoolonni kee diinota keetiif
kennamu; namni isaan harkaa buusus hin jiru. 32 Ilmaanii fi intallan kee namoota
ormaatiif kennamu; iji kees guyyuma guyyaan isaan eeguudhaan fajaja; ati harka
ol fudhachuuf humna hin qabaattu. 33 Oomisha lafa keetiitii fi humna keetii hunda
namoonni ati hin beekne ni nyaatu; ati bara jireenya keetii guutuu cunqurfamtee
jiraachuu malee homaa hin qabaattu. 34 Wanni ati argitu hundi si maraacha.
35 WAAQAYYO faana miilla keetiitii jalqabee hamma gubbaa mataa keetii ga'utti madaa
hin fayyine kan nama dhiphisuun jilbaa fi miilla kee ni dha'a.

36 WAAQAYYO si'ii fi mootii ati of irratti moosifte saboota ati yookaan abbootiin kee
hin beekinitti ni kenna. Atis achitti waaqota biraa, waaqota mukaatii fi kan dhagaa
ni waaqeffatta. 37 Saboota WAAQAYYO itti si geessu hunda keessatti waan qaanii, kan
kolfaatii fi kan quba itti qaban ni taata.

38 Lafa qotiisaa kee keessa sanyii baay'ee facaafatta; garuu sababii hawwaannisni
nyaatee fixuuf xinnoo walitti qabatta. 39 Atis wayinii dhaabdee kunuunsita; garuu
waan raammoon nyaatuuf daadhii isaa hin dhugdu yookaan ija isaa hin cirattu.
40 Biyya kee guutuu keessaa muka ejersaa qabaatta; garuu waan iji isaa lafatti
harca'uuf ati zayitii isaatti hin fayyadamtu. 41 Ati ilmaanii fi intallan qabaatta; garuu
isaan waan booji'amaniif kan kee hin ta'an. 42 Mukaa fi oomisha lafa qotiisaa keetii
hunda tuuta hawwaannisaatu fixa.

43 Alagaan gidduu kee jiraatu si caalaa guddata; ati garuu gad deemta. 44 Isatu siif
liqeessa malee ati isaaf hin liqeessitu. Inni mataa ta'a; ati garuu eegee taata.

45 Abaarsi kun hundinuu si qaqqaba. Ati waan WAAQAYYO Waaqa keetiif hin
ajajamnee fi waan ajajawwanii fi qajeelchawwan inni siif kenne hin eeginiif hamma
ati baddutti abaarsi kun si biraa hin hafu; si fudhatas. 46 Isaan bara baraan si'ii
fi sanyii keetti mallattoo fi dinqii ta'u. 47 Ati waan yeroo sooromaatti galataa fi
gammachuudhaan WAAQAYYO Waaqa kee hin tajaajiliniif, 48 beelaa fi dheebuudhaan,
daaraa fi hiyyummaa hamaadhaan diinota WAAQAYYO sitti kaasu ni tajaajilta. Inni
hamma si balleessutti waanjoo sibiilaa morma keetti kaa'a.

49 WAAQAYYO biyya akka malee fagoo irraa, daarii lafaatiis saba akka risaa dafee
gad bu'u kan ati afaan isaa hin beekne sitti kaasa; 50 innis saba jaarsaaf ulfina
hin kennine, kan daa'immaniif garaa hin laafnee fi kan akka malee sodaachisuu
dha. 51 Isaanis hamma ati baddutti ija loon keetiitii fi ija lafa keetii ni nyaatu.
Hamma ati barbadooftutti midhaan tokko iyyuu, daadhii wayinii haaraa yookaan
zayitii, jabboota loon keetiitii fi korbeeyyii bushaayee keetii tokko illee siif hin

dhiisan. 52 Isaan magaalaa biyya keetii hunda hamma dallaawwan ittisaa kanneen
ati amanattu jijjiganitti ni marsu; magaalaa biyya WAAQAYYO Waaqni kee siif kennu
keessa jiran hunda iyyuu ni marsu.
53 Ati sababii dhiphina diinonni kee yeroo si marsanitti sitti fidaniitiif ija gudeeda
keetii, foon ilmaanii fi intallan keetii kanneen WAAQAYYO Waaqni kee siif kennee ni
nyaatta. 54 Namni gidduu keetii akka malee gara laafessaa fi garraamii ta'e iyyuu
obboleessa isaatiif yookaan niitii isaa kan jaallatuuf yookaan ijoollee isaa warra
hafaniif garaa hin laafu; 55 inni foon ijoollee isaa kan nyaachaa jiru irraa xinnoo
ishee illee tokkoo isaaniitiif iyyuu hin kennu. Sababii dhiphina diinonni kee yeroo
magaalaawwan kee hunda marsanitti sirraan ga'aniitiif wanni isaaf hafe kanuma
qofaatii. 56 Niitiin arjaa fi boontuun gidduu kee jiraattu kan sababii akka malee arjaa
fi boontuu taateef miilla isheetiin lafa hin tuqne iyyuu dhirsa ishee kan jaallattutti,
ilma isheetii fi intala isheetti illee ni hammaatti; 57 isheen hobbaatii garaa isheetii
ba'uu fi ijoollee deessu illee ni jibbiti. Sababiin isheen waan kana gootuufis yeroo
marfamaa fi rakkinaatti, yommuu diinonni kee magaalaa kee keessatti si dhiphisanitti
dhoksitee nyaachuuf jettee ti.
58 Yoo ati of eeggannaadhaan dubbiiwwan seera kanaa kanneen kitaaba kana
keessatti barreeffaman hunda duukaa bu'uu dhiiftee maqaa WAAQAYYO Waaqa keetii
kabajamaa fi sodaachisaa sana sodaachuu baatte, 59 WAAQAYYO si'ii fi sanyii keetti
dha'icha sodaachisaa, balaa dhiphisaa fi kan yeroo dheeraa turu, dhukkuba akka
malee hamaa fi dafee hin fayyine ni erga. 60 Dhukkuboota Gibxi kanneen ati sodaattus
sitti fida; isaanis ciniinanii sitti qabatu. 61 Akkasumas hamma ati dhabamtutti
WAAQAYYO dhukkubootaa fi rakkinnoota biraa kanneen Kitaaba Seeraa kana keessatti
hin barreeffamin sitti fida. 62 Isin sababii WAAQAYYO Waaqa keessaniif ajajamuu
diddaniif isin warra akka urjiiwwan samii baay'attanii turtan keessaa xinnootu
hafa. 63 Akkuma isin sooromsuu fi isin baay'isuun WAAQAYYO gammachiisu sana isin
balleessuu fi isin barbadeessuunis isa gammachiisa. Isin biyya dhaaluuf itti galtan
keessaa ni buqqaatu.
64 Ergasiis WAAQAYYO daarii lafaa tokko irraa hamma daarii lafaa kaaniitti saboota
hunda gidduutti si bittinneessa. Ati achitti waaqota biraa, waaqota mukaatii fi kan
dhagaa kanneen atii fi abbootiin kee hin beekin ni waaqeffatta. 65 Ati saboota sana
gidduutti boqonnaa hin argattu; lafa kophee miilla keetii irra keeyyattu illee hin
argattu. Achittis WAAQAYYO sammuu dhiphatu, ija hawwiidhaan fajajuu fi garaa abdii
kutatu siif kenna. 66 Ati halkanii guyyaa sodaadhaan qabamtee utuu lubbuun kee
wabii hin argatin, yeroo hunda yaaddoodhaan jiraatta. 67 Sababii sodaa garaa kee
guutuu sanaatii fi waan ija keetiin argitu sanaatiif ganama, "Utuu bari'uu baatee!"
galgala immoo, "Utuu dhi'uu baatee!" jetta. 68 Karaa ani ati lammata as hin deebitu
siin jedheenis WAAQAYYO dooniidhaan Gibxitti si deebisa. Achittis akka garboota
dhiiraa dubartiitti diinota keessanitti gurguramuuf of dhi'eessitu; garuu namni tokko
iyyuu isin hin bitatu.

# 29

*Kakuun Haaromfamuu Isaa*

1 Dubbiin kakuu kan WAAQAYYO kakuu Kooreebitti isaan wajjin gale sana irratti
dabalee akka inni Mo'aab keessatti Israa'eloota wajjin galuuf Musee ajaje kanaa dha.
2 Museen Israa'eloota hunda walitti waamee akkana jedheen:

Waan WAAQAYYO Gibxi keessatti Fara'oon irratti, qondaaltota isaa hundaa fi
guutummaa biyya isaa irratti hojjete hunda iji keessan argeera. 3 Isin qorumsawwan

gurguddaa sana, mallattoowwanii fi dinqiiwwan gurguddaa sana ijuma keessaniin
argitaniirtu. 4 WAAQAYYO garuu hamma har'aatti qalbii hubatu yookaan ija argitu
yookaan gurra dhaga'u isinii hin kennine. 5 Yeroo waggoota afurtamman ani
gammoojjii keessa isin geggeesse sanatti uffanni keessan isin irratti hin dhumne
yookaan kopheen miilla keessan irratti hin ciccinne. 6 Isin buddeena hin nyaanne;
daadhii wayinii yookaan dhugaatii nama macheessu hin dhugne. Ani akka isin akka
ani WAAQAYYO Waaqa keessan ta'e beektaniifan waan kana godhe.

7 Yommuu isin as geessanitti Sihoon mootiin Heshboonii fi Oogi mootiin Baashaan
nu loluuf nutti ba'an; nu garuu isaan mo'anne. 8 Biyya isaaniis fudhannee gosa
Ruubeeniif, gosa Gaadii fi walakkaa gosa Minaaseetiif dhaala goonee kennine.

9 Isin akka waan hojjettan hundaan milkooftaniif dubbiiwwan kakuu kanaa
of eeggannaadhaan duukaa bu'aa. 10 Hundi keessan jechuunis qajeelchitoonnii
fi hooggantoonni keessan, maanguddoonnii fi qondaaltonni keessan akkasumas
namoonni Israa'el kanneen biraa hundinuu har'a fuula WAAQAYYO Waaqa keessanii
dura dhaabattaniirtu; 11 ijoolleen keessanii fi niitonni keessan akkasumas alagoonni
muka kee ciraa, bishaan kees waraabaa qubata kee keessa jiraatan si wajjin
dhaabataniiru. 12 Atis kakuu WAAQAYYO har'a si wajjin galee kakaadhaan siif
mirkaneessu kana WAAQAYYO Waaqa kee wajjin galuuf as dhaabatteerta; 13 innis
akkuma si abdachiisee abbootii kee Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif waadaa gale
sanatti akka ati saba isaa taatee innis Waaqa kee ta'uuf jabeessee si dhaabuuf waan
kana godhe. 14 Anis kakuu kakaadhaan mirkanaa'e kana isin qofa wajjin utuu hin
ta'in, 15 warra nu wajjin as fuula WAAQAYYO Waaqa keenyaa dura dhaabatan warra
har'a as hin jirre wajjinis nan gala.

16 Akka nu itti Gibxi keessa jiraannee fi yommuu as dhufnus akka nu itti biyyoota
keessa dabarre isin mataan keessanuu ni beektu. 17 Isinis gidduu isaaniitti fakkii-
wwan isaanii jibbisiisoo, waaqota isaanii tolfamoo kanneen muka, dhagaa, meetii
fi warqee irraa hojjetaman argitaniirtu. 18 Akka dhiirri yookaan dubartiin balballi
yookaan gosti garaan isaa WAAQAYYO Waaqa keenya irraa garagalee waaqota saboota
sanaa faana bu'e isin gidduu hin jiraanne mirkaneeffadhaa; akka hiddi summii
hadhaa'aa akkasii baasu tokko iyyuu isin gidduu hin jiraanne qulqulleeffadhaa.

19 Namni akkasii yommuu dubbii kakuu kanaa dhaga'utti, garaa isaatti of eebbisee,
"Ani yoon akka fedhii kootti deeme illee nagaa qaba" jedhee yaada. Kun immoo
lafa jiidhaa irrattis ta'u lafa goggogaa irratti badiisa fida. 20 WAAQAYYO nama sanaaf
gonkumaa dhiifama hin godhu; dheekkamsi isaatii fi hinaaffaan isaa namicha sana
irratti boba'a. Abaarsi kitaaba kana keessatti barreeffame hundi isa qaqqaba;
WAAQAYYOS samii jalaa maqaa isaa ni dhabamsiisa. 21 Akkuma kakuu abaarsa
Kitaaba Seeraa kana keessatti barreeffame hundaatti, WAAQAYYO gosoota Israa'el
hunda keessaa badiisaaf kophaatti isa baasa.

22 Dhaloonni itti aanu jechuunis ijoolleen keessan warri isiniin duuba dhufan
akkasumas keessummoonni biyyoota fagootii dhufan dha'icha guddaa biyyattii irra
ga'ee fi dhukkuba WAAQAYYO ittiin ishee dha'e ni argu. 23 Guutummaan biyyattii
gammoojjii gubduu kan soogiddaa fi dinyiin guutamte kan wanni tokko iyyuu irra
hin dhaabamne, kan wanni tokko iyyuu irratti hin biqille, kan biqiltuun tokko
iyyuu irratti hin guddanne taati. Badiisni ishee irra ga'us akka badiisa Sodoomiitii
fi Gomoraa, Adimaatii fi Zeboo'iim kanneen WAAQAYYO dheekkamsa guddaadhaan
isaan barbadeesse sanaa ni ta'a. 24 Sabni hundinuu, "WAAQAYYO maaliif waan akkasii
biyya kanatti fide? Dheekkamsi sodaachisaan boba'u kunis maaliif dhufe?" jedhanii
gaafatu.

25 Deebiin isaas kana ta'a; "Kun sababii sabni kun kakuu WAAQAYYO Waaqni
abbootii isaanii yeroo Gibxii isaan baasetti isaan wajjin gale sana dhiisaniif. 26 Isaanis

dhaqanii waaqota biraa, kanneen hin beekiniif waaqota inni isaaniif hin kennin
waaqeffatan; gad jedhaniis sagadaniif. 27 Kanaafuu dheekkamsi WAAQAYYOO biyya
kanatti boba'ee akka inni abaarsa kitaaba kana keessatti barreeffame hunda itti fidu
godhe. 28 WAAQAYYOS aarii sodaachisaa fi dheekkamsa guddaadhaan biyya isaaniitii
isaan buqqise; akkuma amma jiru kanattis biyya biraatti isaan darbate."
29 Wanti dhoksaan kan WAAQAYYO Waaqa keenyaa ti; kan mul'ifame garuu akka nu
dubbii seera kanaa hunda eegnuuf bara baraan kan keenyaa fi kan ijoollee keenyaa
ti.

# 30

### *Badhaadhummaa Gara WAAQAYYOOTTI Deebi'uudhaan Argamu*

1 Yommuu eebbii fi abaarsi ani fuula kee dura kaa'e kun hundi si argatee ati
saboota WAAQAYYO Waaqni kee keessatti si bittinneessu hunda gidduu jiraatutti
yoo ati waan sana yaadattu, 2 yommuu atii fi ijoolleen kee gara WAAQAYYO Waaqa
keetiitti deebitanii akkuma waan ani har'a isin ajaju hundaatti garaa keessanii fi
lubbuu keessan guutuudhaan isaaf ajajamtan, 3 WAAQAYYO Waaqni kee boojuu kee
siif deebisee garaa siif laafuudhaan saboota gidduu isaaniitti si bittinneesse hunda
keessaa deebisee walitti si qaba. 4 Yoo ati samii jalatti lafa akka malee fagootti
geeffamtee jiraatte illee WAAQAYYO Waaqni kee walitti si qaba; deebisees si fida.
5 Inni biyya abbootii keetiitti si galcha; atis ni dhaalta. Inni abbootii kee caalaa
si sooromsa; akka malee si baay'isas. 6 Akka ati garaa kee guutuudhaan, lubbuu
kee guutuudhaan isa jaallattee jiraattuuf WAAQAYYO Waaqni kee garaa keetii fi garaa
sanyiiwwan keetii dhagna ni qaba. 7 WAAQAYYO Waaqni kee abaarsa kana hunda
warra si jibbanii si rakkisan irra ni kaa'a. 8 Atis deebitee WAAQAYYOOF ni ajajamta;
ajaja isaa kanneen ani har'a si ajaju hundas ni eegda. 9 Ergasiis WAAQAYYO Waaqni
kee hojii harka keetii hundaa fi ijoollee gudeeda keetii ba'aniin, jabboota keetii
fi midhaan lafa qotiisaa keetiitiin si sooromsa. WAAQAYYO akkuma abbootii keetti
gammade sana sittis gammadee si sooromsa; 10 kunis yoo ati WAAQAYYO Waaqa
keetiif ajajamtee ajajawwanii fi qajeelchawwan isaa kanneen Kitaaba Seeraa kana
keessatti barreeffaman eeguudhaan garaa kee guutuu fi lubbuu kee guutuudhaan
gara WAAQAYYO Waaqa keetiitti deebite ta'a.

### *Jireenya Yookaan Du'a Filachuu*

11 Wanni ani har'a si ajaju kun rakkisaa yookaan kan sirraa fagaate miti. 12 Akka
ati, "Akka nu dhageenyee isa eegnuuf eenyutu gara samiitti ol ba'ee fidee nutti
hima?" jettee hin gaafanneef inni ol samii gubbaa hin jiru. 13 Yookaan akka ati,
"Akka nu dhageenyee isa eegnuuf eenyutu galaana ce'ee fidee nutti hima?" jettee
hin gaafanneef inni galaana gama hin jiru. 14 Dubbiin sun garuu baay'ee sitti dhi'oo
jira; akka ati isa eegduufis inni afaan keetii fi garaa kee keessa jira.
15 Kunoo ani har'a jireenyaa fi eebba, du'aa fi badiisa fuula kee dura kaa'eera. 16 Ani
akka ati WAAQAYYO Waaqa kee jaallattu, akka karaa isaa irras deemtuu fi akka ati
ajajawwan isaa, qajeelchawwan isaatii fi seerawwan isaa eegdu si ajaja; ergasiis ati
lubbuun jiraattee ni baay'atta; WAAQAYYO Waaqni kees biyya ati dhaaluuf itti galtutti
si eebbisa.
17 Garuu yoo yaadni kee karaa irraa jal'atee ati ajajamuu baatte, yoo ati waaqota
kaan waaqeffachuu fi isaan tajaajiluuf jettee fudhatamte, 18 ani akka isin dhugumaan
baddan har'a isinittin hima. Isin Yordaanosin ceetanii biyya itti galtanii dhaaltan
keessas bara dheeraa hin jiraattan.
19 Ani akkan jireenyaa fi du'a, eebbaa fi abaarsa fuula kee dura kaa'ee jiru har'a
samii fi lafa ragaan godhee sitti waama. Egaa atii fi ijoolleen kee akka jiraattaniif

jireenya filadhu; 20 kunis akka ati WAAQAYYO Waaqa kee jaallatuuf, akka dubbii isaa
dhageessee isatti maxxantee jiraattuuf. WAAQAYYO sababii jireenya kee ta'eef, biyya
abbootii kee Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif kennuuf kakateef sana keessatti
bara dheeraa siif kenna.

# 31

### *Iyyaasuun Iddoo Musee Bu'uu Isaa*

1 Ergasiis Museen dhaqee dubbii kana Israa'el hundatti dubbate: 2 "Ani amma
nama waggaa dhibbaa fi digdamaa ti; si'achis isin hoogganuu hin danda'u.
WAAQAYYO, 'Ati Yordaanos hin ceetu' naan jedheera. 3 WAAQAYYO Waaqni kee
mataan isaa si dura ni ce'a. Inni saboota kanneen fuula kee duraa ni barbadeessa;
atis biyya isaanii ni dhaalta. Akkuma WAAQAYYO jedhetti, Iyyaasuunis si dura ni
ce'a. 4 WAAQAYYO akkuma Sihoonii fi Oogi mootota Amoorotaa sana biyya isaanii
wajjin balleesse sana isaan kanneenis ni balleessa. 5 WAAQAYYO dabarsee harka
keessanitti isaan kenna; isinis waan ani isin ajaje hunda isaan gochuu qabdu. 6 Cimaa;
jabaadhaa. WAAQAYYO Waaqni keessan isin wajjin deemaatii isin sababii isaaniitiif
jettanii hin sodaatinaa yookaan hin rifatinaa; inni gonkumaa isin hin dhiisu yookaan
isin hin gatu."

7 Kana irratti Museen Iyyaasuu ofitti waamee fuula Israa'el hundaa duratti akkana
jedheen; "Ati sababii biyya WAAQAYYO isaaniif kennuuf abbootii isaaniitiif kakatetti
galuuf saba kana wajjin deemtuuf cimi; jabaadhus; biyyattiis akka dhaalan godhi.
8 WAAQAYYO mataan isaa si dura ni deema; si wajjinis ni jiraata; inni si hin dhiisu
yookaan si hin gatu. Hin sodaatin; abdiis hin kutatin."

### *Seera Dubbisuu*

9 Museenis seera kana barreessee ilmaan Lewwii kanneen luboota ta'anii taabota
kakuu WAAQAYYOO baatanii fi maanguddoota Israa'el hundatti kenne. 10 Ergasiis
Museen akkana jedhee isaan ajaje; "Dhuma waggaa torbaffaatti, yeroo itti gatiin
dhiifamutti, yeroo itti Ayyaanni Daasii ayyaaneffamutti, 11 yommuu Israa'el hundi
fuula WAAQAYYO Waaqa keetii duratti mul'achuuf lafa inni filatu dhufanitti akka
isaan dhaga'aniif fuula isaanii duratti seera kana isaanii dubbifta. 12 Akka isaan
dubbii seera kanaa hunda dhaga'anii WAAQAYYO Waaqa kee sodaachuu baratanii fi
of eeggannaadhaan faana bu'aniif namoota jechuunis dhiirota, dubartoota, ijoollee fi
alagoota magaalaawwan kee keessa jiraatan walitti qabi. 13 Bara isin biyya Yordaanos
ceetanii dhaaltan keessa jiraattan guutuu ijoolleen isaanii kanneen seera kana hin
beeknes dhaga'uu fi WAAQAYYO Waaqa isaanii sodaachuu barachuu qabu."

### *Israa'el Ni Fincila*

14 WAAQAYYO Museedhaan, "Yeroon ati duutu dhi'aateera. Akka ani waan inni
hojjechuu malu itti himuuf Iyyaasuu waamiitii dunkaana wal ga'ii biratti dhi'aadhaa"
jedhe. Musee fi Iyyaasuunis dhufanii dunkaana wal ga'ii duratti dhi'aatan.

15 WAAQAYYO utubaa duumessaatiin dhufee dunkaanicha keessatti mul'ate; du-
umessi sunis balbala dunkaanichaa dura dhaabate. 16 WAAQAYYOS Museedhaan
akkana jedhe; "Ati abbootii kee wajjin ni boqotta; sabni kun immoo yommuu suma
biyya dhaaluuf itti galutti waaqota Namoota Ormaa duukaa bu'ee sagaagaluu jalqaba.
Isaan na dhiisanii kakuu ani isaan wajjin gale ni cabsu. 17 Gaafas ani isaanitti aaree
isaan nan dhiisa; fuula koos isaan duraa nan dhoksa; isaanis ni barbadeeffamu.
Badiisaa fi rakkoo baay'eetu isaanitti dhufa; isaanis gaafasi, 'Badiisni kun waan
Waaqni keenya nu wajjin hin jirreef nutti dhufe mitii?' jedhanii gaafatu. 18 Waan
isaan gara waaqota biraatti garagalaniif ani sababii hammina isaanii hundaatiif
guutumaan guutuutti fuula koo isaan duraa nan dhokfadha.

19 “Akka isaanitti ragaa naa ta’uuf, faarfannaa kana barreeffadhuutii akka isaan
faarfataniif Israa’eloota barsiisi. 20 Yommuu ani biyya aannanii fi dammi keessaa
burqu kan ani abbootii isaaniitiif kakuudhaan waadaa galetti isaan fidutti isaan
nyaatanii quufanii narraa garagaluudhaan waaqota biraa waaqeffatu; na dhiisaniis
kakuu koo ni cabsu. 21 Faarfannaan kunis yommuu badiisnii fi rakkinni isaanitti
dhufuti ragaa isaanitti ta’a; kun sanyii isaanii keessatti hin irraanfatamuutii. Ani utuu
biyya kakuudhaan waadaa isaanii galetti isaan hin fidin iyyuu waan isaan gochuuf
yaadan nan beekaatii.” 22 Kanaafuu Museen gaafas faarfannaa kana barreessee
Israa’eloota barsiise.
23 WAAQAYYOS Iyyaasuu ilma Nuunitiif ajaja, “Ati sababii biyya ani kakuudhaan
waadaa isaanii galetti Israa’eloota galchituuf cimi, jabaadhu; ani mataan koo si wajjin
jiraa” jedhu kenne.
24 Museen erga dubbii seera kanaa jalqabaa hamma dhumaatti kitaaba irratti
barreessee fixee booddee, 25 Lewwota taabota kakuu WAAQAYYOO baataniif ajaja
kana kenne: 26 “Kitaaba Seeraa kana fudhuutii taabota kakuu WAAQAYYO Waaqa
keetii bira kaa’i. Kunis akka inni achuma taa’ee ragaa isinitti ta’uuf. 27 Ani akka
isin finciltootaa fi mata jabeeyyii taatan nan beekaatii. Isin yoo utuma ani jiruu
WAAQAYYOTTI finciltan, erga ani du’ee booddee immoo hammam caalaa haa finciltan
ree! 28 Akka ani akka isaan dhaga’aniif dubbii kana isaanitti hime akka isaanitti
ragaa ta’uuf samii fi lafa waammachuu danda’uuf maanguddoota gosoota keessanii
hundaa fi qondaaltota keessan hunda fuula koo duratti walitti qabaa. 29 Ani akka
isin erga ani du’ee booddee guutumaan guutuutti xurooftanii ajaja ani isinii kenne
irraa garagaltan nan beekaatii. Baroota dhufuuf jiran keessa rakkinni isinitti dhufa;
isin fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjettanii hojiidhuma harka keessaniitiin
dheekkamsaaf isa kakaaftuutii.”

### *Faarfannaa Musee*

30 Museenis jalqabaa hamma dhumaatti dubbii faarfannaa kanaa guutummaa
waldaa Israa’elitti akkana jedhee dhageessise:

## 32

1 Yaa samiiwwan, dhaga’aa; ani nan dubbadha;
yaa lafa, atis dubbii afaan kootii dhaga’i.
2 Barsiisni koo akka bokkaa haa roobu;
dubbiin koos akka fixeensaa gad haa coccophu;
marga irratti akka tiifuu,
biqiltuu corqaa irrattis akka bokkaa guddaa haa roobu.

3 Ani maqaa WAAQAYYOO nan labsa.
Guddina Waaqa keenyaa jajadhaa!
4 Inni Kattaa dha; hojiin isaa mudaa hin qabu;
daandiiwwan isaa hundinuus qajeelaa dha.
Inni Waaqa amanamaa hin dogoggorre,
tolaa fi qajeelaa dha.

5 Isaan hammina isatti hojjetaniiru;
si’achi isaan sababii qaanii isaaniitiif ijoollee isaa miti;
isaan dhaloota jal’aa fi micciiramaa dha.
6 Yaa saba gowwaa, kan ogummaa hin qabne,
ati akkasitti WAAQAYYOOF deebii kennitaa?
Inni Abbaa kee, Uumaa kee,

kan si hojjetee fi si tolche mitii?

7 Baroota durii yaadadhu;
dhaloota darbe illee qalbeeffadhu.
Inni siif ibsaatii abbaa kee gaafadhu;
maanguddoota kees gaafadhu; isaan sitti himuutii.
8 Waaqni Waan Hundaa Olii yommuu sabootaaf dhaala isaaniif kennetti,
yommuu sanyii namaas gargar qoqoodetti,
akkuma baay'ina ilmaan Israa'elitti
namootaaf daarii dhaabe.
9 Qoodni WAAQAYYOO saba isaa ti;
Yaaqoob immoo dhaala dhuunfaa isaa ti.

10 Inni lafa gammoojjii, lafa onaatii fi
gammoojjii nama gubu keessatti isa argate.
Inni gaachana ta'eefii isa eege;
akka qaroo ija isaattis isa eege;
11 akkuma risaan mana ishee diigdee
ilmaan ishee irra qoochoo qabdu,
akkuma qoochoo ishee bal'iftee ol isaan fudhattu,
akkuma qoochoo isheetiinis isaan baattu sana,
12 WAAQAYYO qofatu isa geggeesse;
waaqni ormaa tokko iyyuu isa wajjin hin turre.

13 Inni lafa ol ka'aa irra isa burraaqsise;
midhaan lafa qotiisaa isa soore.
Kattaa keessaa damma isa nyaachise;
dhagaa gurraacha keessaa immoo zayitii kenneef;
14 dhadhaa fi aannan saawaanii fi bushaayee,
xobbaallaawwanii fi re'oota cooman,
korbeeyyii hoolaa filatamoo Baashaan,
ija qamadii gaariis isa soore.
Ati cuunfaa dhiiga wayinii qulqulluus ni dhugde.

15 Yishuruun ni gabbate; ni dhiite;
nyaatee quufe; ni ulfaate; ni cululuqe.
Waaqa isa uume ni dhiise;
Kattaa Fayyisaa isaa ta'es ni tuffate.
16 Isaan waaqota ormaatiin isa hinaafsisan;
waaqota jibbisiisoo isaaniitiinis isa dheekkamsiisan.
17 Isaan hafuurota hamoo Waaqa hin ta'iniif,
waaqota hin beekiniif,
waaqota reefuu dhufaniif,
waaqota abbootiin keessan hin sodaatiiniif aarsaa dhi'eessan.
18 Ati Kattaa si dhalche gante;
Waaqa si uume irraanfatte.

19 WAAQAYYO waan kana argee isaan tuffate;
inni ilmaanii fi intallan ofii isaatti aareeraatii.
20 Innis, “Ani fuula koo isaan duraa nan dhokfadha;
dhuma isaaniis nan arga” jedhe;

isaan dhaloota jal’aa,
ijoollee hin amanamneedhaatii.
21 Isaan waan Waaqa hin ta’iniin na hinaafsisan;
waaqota tolfamoo isaanii kanneen faayidaa hin qabneenis na aarsan.
Anis warra saba hin ta’iniin akka isaan hinaafan nan godha;
saba hubannaa hin qabneenis isaan nan aarsa.
22 Dheekkamsa kootiin ibiddi qabsiifameeraatii;
innis hamma sii’oolitti gad dhidhimee ni boba’a.
Lafaa fi waan isheen baaftu ni nyaata;
hundee tulluuwwaniitti illee ibidda qabsiisa.

23 “Ani waan hamaa isaan irra nan tuula;
xiyya koos isaanitti nan fixadha.
24 Beela hamaa, golfaa nyaatee nama fixuu fi
dha’icha isaanitti nan erga;
ilkaan bineensaa qaramaa isaa,
hadhaa buutii lafa irra lootuus isaanitti nan erga.
25 Karaa guddaa irratti goraadeen warra ijoollee hin qabne isaan godha;
mana isaaniitti sodaatu mo’a.
Dargaggoonnii fi dargaggeettiiwwan,
daa’immanii fi maanguddoonni ni dhumu.
26 Anis isaan nan bittinneessa;
yaadannoo isaaniis sanyii namaa keessaa nan balleessa.
27 Garuu akka diinonni isaanii of tuulanii,
‘Harka keenyatu mo’ate malee,
Waaqayyo waan kana hunda hin goone’ hin jenne,
ani dhaadannoo diinaa sodaadheera.”

28 Isaan saba qalbii hin qabne,
kan hubannaa tokko illee hin qabnee dha.
29 Isaan utuu ogeeyyii ta’anii waan kana hubatanii
silaa dhuma isaanii ni beeku turan!
30 Yoo Kattaan isaanii isaan gurgure malee,
yoo Waaqayyo dabarsee isaan kenne malee,
akkamitti namni tokko nama kuma tokko
yookaan namni lama nama kuma kudhan gugsa?
31 Kattaan isaanii akka kattaa keenyaa miti;
kana immoo diinonni keenya iyyuu hin ganan.
32 Wayiniin isaanii wayinii Sodoomiitii fi
lafa qotiisaa Gomoraa irraa dhufa.
Iji wayinii isaanii summiidhaan,
hurbuun isaaniis waan hadhaa’uun guutameera.
33 Wayiniin isaanii hadhaa bofaa,
summii bofa hadhaan isaa nama ajjeesuu ti.

34 “Kun waan na biratti eegame,
kan galmee koo keessattis chaappaadhaan cufame mitii?
35 Haaloo baasuun kan koo ti; ani gatii nan deebisa.
Yeroo isaatti miilli isaanii ni mucucaata;
guyyaan badiisa isaanii dhi’aateera;
badiisni isaaniis isaanitti ariifateera.”

36 WAAQAYYO yommuu akka isaan humna dhaban,
akka garbichis ta'u namni birmaduun tokko iyyuu hin hafne argutti,
saba isaatiif ni murteessa;
tajaajiltoota isaatiifis garaa laafa.
37 Innis akkana jedha: "Kattaan isaan itti da'atan,
waaqonni tolfamoon isaanii amma eessa jiru?
38 Waaqonni cooma qalma isaanii nyaatan,
kanneen dhibaayyuu daadhii wayinii isaanii dhuganis eessa jiru?
Mee ka'anii isaan haa gargaaran!
Mee da'annoo haa kennaniif!

39 "Akka ani mataan koo Isa ta'e beekaa!
Ana malee Waaqni biraa hin jiru.
Ani nan ajjeesa; nan jiraachisas;
nan madeessa; nan fayyisas;
namni harka kootii baasuu danda'u tokko iyyuu hin jiru.
40 Ani dhugumaan bara baraan jiraataadhaatii
harka koo samiitti ol qabee nan kakadha;
41 ani yommuun goraadee koo calaqqisaa qaradhee
harki koo murtiidhaaf isa qabatutti,
ani diinota koo haaloo nan ba'a;
warra na jibbaniif illee waan isaaniif malu nan kenna.
42 Yommuu goraadeen koo foon nyaatutti,
ani akka xiyyi koo dhiigaan machaa'u nan godha;
dhiigni sunis dhiiga warra qalamaniitii fi booji'amanii
kan mataa hooggantoota diinaa ti."

43 Sababii inni haaloo dhiiga tajaajiltoota isaa ba'uuf,
yaa sabootaa, namoota isaa wajjin gammadaa.
Inni diinota isaa haaloo ba'a;
biyyaa fi saba isaatiif araara ni buusa.

44 Museenis Iyyaasuu ilma Nuuni wajjin dhufee dubbiiwwan faarfannaa kana
hunda namoota dhageessise. 45 Innis yommuu dubbiiwwan kanneen hunda
Israa'eloota hundatti dubbatee fixetti, 46 akkana isaaniin jedhe; "Akka isaan dub-
biiwwan seera kanaa hunda of eeggannaadhaan eeganiif akka isin ijoollee keessan
ajajjan, dubbiiwwan ani har'a ifa baasee isinitti himu hunda qalbiitti qabadhaa.
47 Isaan isiniif jireenya malee dubbii faayidaa hin qabne miti. Dubbiiwwan kanaan
biyya laga Yordaanos ceetanii dhaaltan keessa bara dheeraa ni jiraattu."

### *Museen Tulluu Neboo Irratti Du'uu Isaa*

48 Gaafasuma WAAQAYYO akkana jedhee Museetti hime; 49 "Biyya Mo'aab kan
fuullee Yerikoo jiru, tulluuwwan Abaariim keessa tulluu Nebootti ol ba'iitii biyya
Kana'aan, biyya ani Israa'elootaaf dhaala godhee kennu fuulleetti ilaali. 50 Akkuma
obboleessi kee Aroon tulluu Hoori irratti du'ee gara abbootii isaatti walitti qabame
sana, atis tulluu yaabbattu sana irratti ni duuta; gara abbootii keetiittis walitti
qabamta. 51 Kunis waan isin lamaanuu Gammoojjii Siin, Qaadesh keessatti bishaan
Mariibaa biratti fuula Israa'elootaa duratti na amanuu diddanii fi sababii Israa'eloota
gidduutti qulqullummaa koo hin eeginiif. 52 Kanaafuu ati fagootti argita malee biyya
ani Israa'elootaaf kennu sanatti hin galtu."

# 33

*Museen Gosoota Israa’el Eebbisuu Isaa*
*33:1-29 kwi – Uma 49:1-28*

1 Eebbi Museen namni Waaqaa sun utuu hin du’in dura ittiin Israa’eloota eebbise
kana; 2 innis akkana jedhe:
“Waaqayyo tulluu Siinaa irraa dhufe;
isaan irrattis See’iir irraa akka aduu ganamaatti ba’e;
Tulluu Phaaraan irraa isaan eebbise.
Inni qulqulloota isaa kumaatama wajjin dhufe;
karaa harka isaa mirgaatiin ibidda boba’utu ba’e.
3 Dhugumaan situ saba jaallata;
qulqulloonni hundinuu harka kee keessa jiru.
Hundi isaanii miilla kee jalatti kufu;
qajeelfamas sirraa argatu;
4 Museen seera nuu kenneera;
kunis dhaala waldaa Yaaqoob.
5 Yeroo hooggantoonni sabaa
gosoota Israa’el wajjin walitti qabamanitti
inni Yishuruun irratti mootii ture.

6 “Ruubeen haa jiraatu malee hin du’in;
yookaan baay’inni namoota isaa hin xinnaatin.”
7 Waa’ee Yihuudaas akkana jedhe:
“Yaa Waaqayyo, iyya Yihuudaa dhaga’i;
gara saba isaattis isa fidi.
Inni harka ofii isaatiin of haa eegu.
Yommuu inni diinota isaatiin wal lolutti gargaaraa isaa ta’i!”
8 Inni waa’ee Lewwiis akkana jedhe:
“Tumiimii fi Uriimiin kee
tajaajilaa kee amanamaadhaaf haa ta’u.
Ati lafa Maasaah jedhamutti isa qorte;
bishaan Mariibaa irratti isa lolte.
9 Waa’ee abbaa fi haadha isaas,
‘Ani isa hin argine’ jedhe.
Inni obboloota isaa addaan hin baafanne;
ijoollee isaas hin beekne;
isaan dubbii keetiif ajajamanii
kakuu kee eeganiiruutii.
10 Inni ajaja kee Yaaqoobin,
seera kee immoo Israa’elin ni barsiisa.
Fuula kee duratti ixaana,
iddoo aarsaa keetii irratti illee aarsaa gubamu guutuu ni dhi’eessa.
11 Yaa Waaqayyo, ogummaa isaa hunda eebbisiif;
waan harki isaa hojjetuttis gammadi.
Mo’oo warra isatti ka’anii cabsi;
akka isaan lammata hin kaane godhiitii diinota isaa dha’i.”
12 Waa’ee Beniyaam akkana jedhe:
“Namni Waaqayyo isa jaallatu eegumsa isaatiin nagaan haa jiraatu;
inni guyyaa guutuu isa eegaatii;
namni Waaqayyo isa jaallatu gatiittii isaa gidduu boqota.”
13 Waa’ee Yoosef akkana jedhe:

"WAAQAYYO biyya isaa haa eebbisu;
fixeensa filatamaa samiidhaa buusuudhaan
bishaan boolla gad fagoo keessaatiin,
14 midhaan filatamaa aduun biqilchituun,
waan akka malee gaarii kan ji'i kennuun,
15 kennaawwan filatamoo tulluuwwan duriitiin,
badhaadhummaa gaarran bara baraatiin,
16 kennaa filatamaa lafaatii fi guutummaa isaatiin,
surraa isa daggala boba'u keessa ture sanaatiin haa eebbisu.
Isaan kunneen hundi mataa Yoosef
kan obboloota isaa gidduutti bulchaa ta'e sanaa irra haa bu'an.
17 Inni ulfinaan korma hangafa fakkaata;
gaanfawwan isaa akka gaanfawwan gafarsaa ti.
Isaaniinis hamma daarii lafaatti
saboota ni waraana.
Isaanis kuma kurnan Efreem,
akkasumas kumaatama Minaasee ti."
18 Waa'ee Zebuuloonis akkana jedhe:
"Zebuuloon ati gad ba'uu keetiin,
Yisaakor atis dunkaanota kee keessatti gammadi.
19 Isaan saboota gara tulluutti ni waamu;
achittis aarsaa qajeelummaa ni dhi'eessu;
isaan sooroma irra dhangala'aa galaana keessaatiin,
qabeenya cirracha keessa dhokfameenis ni gammadu."
20 Waa'ee Gaad immoo akkana jedhe:
"Namni bulchiinsa Gaad bal'isu eebbifamaa dha!
Gaad irree fi mataa caccabsaa
akka leencaatti achi jiraata.
21 Inni ofii isaatiif lafa gabbataa filate;
qoodni hooggantootaa isaaf turfame.
Yommuu hooggantoonni sabaa walitti qabamanitti,
inni fedhii qajeelumma WAAQAYYOOTII fi
murtii Israa'elitti mure sana fiixaan baase."
22 Waa'ee Daanis inni akkana jedhe:
"Daan akka ilmoolee leencaa
kan Baashaan keessaa utaalee ba'uu ti."
23 Waa'ee Niftaalemis akkana jedhe:
"Niftaalem surraa gonfateera;
eebba WAAQAYYOOTIINIS guutameera;
inni biyya karaa lixaatii fi kibbaatiin jiru ni dhaala."
24 Waa'ee Aasheer immoo akkana jedhe:
"Aasheer ilmaan hunda caalaa eebbifamaa dha;
inni obboloota isaa duratti fudhatama haa argatu;
miilla isaas zayitii keessa haa cuuphatu.
25 Danqaraan balbala keetii sibiilaa fi naasii ta'a;
jabinni kees akkuma baroota jireenya keetii ni ta'a.

26 "Waaqni akka Waaqa Yishuruun,
kan si gargaaruuf jedhee samiiwwan irra,
surraa isaatiinis duumessoota irra gulufu tokko illee hin jiru.
27 Waaqni bara baraa iddoo jireenyaa keetii ti;
irreen bara baraas si jalaan jira.

Inni, ‘Isaan balleessi!’ jedhee
diinota kee fuula kee duraa ni ari’a.
28 Kanaafuu Israa’el kophaa isaa nagaadhaan jiraata;
lafa fixeensi samii itti coccophutti,
biyya midhaanii fi wayinii haaraatti
namni burqaa Yaaqoob tuqu hin jiru.
29 Yaa Israa’el, ati eebbifamaa dha!
Sabni WAAQAYYO isa fayyise,
kan akka keetii eenyu?
Inni gaachana keetii fi gargaaraa kee ti;
goraadee ulfina keetiitis.
Diinonni kee sodaadhaan fuula kee duraa duubatti deebi’u;
ati immoo iddoowwan waaqeffannaa isaanii irra ejjetta.”

# 34

*Du’a Musee*

1 Museenis dirree Mo’aabii ka’ee fuullee fiixee Phisgaa kan Yerikootti argamutti,
gaara Nebootti ol ba’e. Achittis WAAQAYYO guutummaa biyyattii isatti argisiise; kunis
Gili’aadii hamma Daanitti, 2 guutummaa Niftaalem, biyya Efreemiitii fi Minaasee,
guutummaa biyya Yihuudaa kan hamma galaana lixaatti bal’atee jiru, 3 Negeebii
fi Magaalaa Meexxii kan sulula Yerikootii jalqabee hamma Zo’aariitti argamuu
dha. 4 Ergasii WAAQAYYO, “Kun biyya ani yeroo, ‘Sanyii keetiif nan kenna’ jedhetti
kakuudhaan Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif waadaa galee dha. Ani akka ati ija
keetiin argitu godheera; ati garuu achi hin ceetu” jedheen.

5 Museen garbichi WAAQAYYOOS akkuma WAAQAYYO isaan jedhetti achuma Mo’aab
keessatti du’e. 6 Innis biyya Mo’aabitti sulula fuullee Beet Phe’ooritti argamu keessatti
isa awwaale; garuu hamma har’aatti awwaalli isaa eessa akka jiru namni tokko iyyuu
hin beeku. 7 Museen yeroo du’etti nama waggaa dhibba tokkoo fi digdama ture; ta’us
iji isaa hin dadhabne; humni isaas hin laafne. 8 Israa’eloonni hamma yeroon gaddaa
raawwatutti dirree Mo’aab irratti bultii soddoma Museedhaaf boo’an.

9 Waan Museen harka isaa isa irra kaa’ee tureef Iyyaasuun ilmi Nuuni hafuura
ogummaatiin guutame. Kanaafuu Israa’eloonni isa dhaga’anii waan WAAQAYYO
Musee ajaje godhan.

10 Ergasii raajiin akka Musee kan ifaan ifatti WAAQAYYOON beeku tokko iyyuu
Israa’el keessatti hin kaane; 11 kan WAAQAYYO akka inni Fara’oon irratti, qondaaltota
isaatii fi guutuu biyya isaa irratti mallattoowwanii fi dinqiiwwan sana hojjetuuf
Gibxitti ergee waan sana hojjete tokko iyyuu hin jiru. 12 Namni tokko iyyuu takkumaa
humna guddaa yookaan hojii akka malee sodaachisaa Museen fuula Israa’eloota
hundaa duratti argisiise sana hin argisiifneetii.

# Kitaaba
# Iyyaasuu

*WAAQAYYO Iyyaasuu Ajajuu Isaa*

1 Erga Museen garbichi WAAQAYYOO sun du'ee booddee WAAQAYYO akkana jedhee
Iyyaasuu ilma Nuuni gargaaraa Musee sanatti dubbate: 2 "Garbichi koo Museen
du'eera. Egaa amma atii fi sabni kun hundinuu gara biyya ani isaaniif, Israa'elootaaf
kennuuf jiruutti galuuf Laga Yordaanos ce'uuf qophaa'aa. 3 Anis akkuma Museef
waadaa gale sanatti iddoo miilli keessan ga'e hunda isiniifan kenna. 4 Daangaan
keessanis gammoojjiidhaa jalqabdee hamma Libaanoonitti, lagicha guddaa Efraaxiisii
jalqabdee biyya Heetotaa hunda keessa baatee karaa dhi'aatiin hamma Galaana
Guddaatti bal'atti. 5 Bara jireenya keetii guutuu namni si dura dhaabachuu danda'u
tokko iyyuu hin jiru. Ani akkuman Musee wajjin ture sana si wajjinis nan ta'a;
ani gonkumaa si hin gatu yookaan si hin dhiisu. 6 Ati sababii akka isaan biyya ani
abbootii isaaniitiif kennuuf kakadhe sana dhaalaniif saba kana hoogganuuf cimi; ija
jabaadhus.

7 "Cimi; ija jabaadhus. Seera garbichi koo Museen siif kenne hundumaaf of
eeggannaadhaan ajajami; akka gara deemtu hundumatti siif milkaa'uufis mirgatti
yookaan bitaatti hin gorin. 8 Kitaabni Seeraa kun afaan keetii hin bu'in. Waan isa
keessatti barreeffame hunda gochuuf akka of eeggattuufis halkanii guyyaa itti yaadi.
Akkasiinis ati ni badhaata; ni milkooftas. 9 Ani akkana jedhee si hin ajajnee? Cimi;
ija jabaadhus. Waan WAAQAYYO Waaqni kee iddoo ati deemtu hundumatti si wajjin
ta'uuf, hin sodaatin; abdiis hin kutatin."

10 Kanaafuu Iyyaasuun akkana jedhee qondaaltota sabaa ajaje: 11 "Qubata keessa
dedeemaatii namootaan, 'Galaa keessan qopheeffadhaa. Isin biyya WAAQAYYO
Waaqni keessan isinii kennuuf jiru sana dhaala ofii keessanii gootanii fudhachuuf
bultii sadii keessatti Yordaanos ni ceetu.' "

12 Iyyaasuun garuu gosa Ruubeeniin, gosa Gaadiitii fi walakkaa gosa Minaaseetiin
akkana jedhe: 13 "Ajaja garbichi WAAQAYYO Museen isinii kenne sana yaadadhaa;
'WAAQAYYO Waaqni keessan boqonnaa isinii kenna; biyya kanas isinii kenneera.'
14 Niitonni keessan, ijoolleen keessanii fi horiin keessan biyya Museen gama ba'a
Yordaanos isinii kenne keessa haa turan; garuu namoonni keessan warri lolaaf
qophaa'an hundi obboloota keessan dura gamatti haa ce'an. Isin obboloota keessan
gargaaruu qabdu; 15 hamma WAAQAYYO akkuma isinii godhe sana isaaniifis boqonnaa
kennee isaanis biyya WAAQAYYO Waaqni keessan isaanii kennu dhaalanitti isaan
gargaaruu qabdu. Ergasii deebitanii biyya keessan kan Museen garbichi WAAQAYYO
sun gama ba'a Yordaanositti karaa ba'a biiftuu isinii kenne sana ni dhaaltu."

16 Isaanis akkana jedhanii Iyyaasuuf deebii kennan; "Nu waan ati nu ajajje kam
iyyuu ni hojjenna; gara ati nu ergitu kam iyyuus ni deemna. 17 Nu akkuma
Museedhaaf guutumaan guutuutti ajajamne sana siifis akkasuma ni ajajamna.
WAAQAYYO Waaqni kee garuu akkuma Musee wajjin ture sana si wajjinis haa ta'u.
18 Namni ajaja keetti finciluu fi dubbii ati karaa kamiin iyyuu isa ajajjeef hin ajajamne
hundi haa ajjeefamu. Ati qofti cimi; ija jabaadhus!"

## 2

*Ra'aabii fi Basaastota*

1 Ergasii Iyyaasuun ilmi Nuuni, “Dhaqaatii biyya sana, keessumattuu Yerikoo
basaasaa” jedhee dhoksaan basaastota lama biyya Shixiimiitii erge. Isaanis deemanii
mana sagaagaltittii Rahaab jedhamtu tokkoo seenanii achuma turan.

2 Mooticha Yerikoottis, “Kunoo! Israa’eloota keessaa namoonni tokko tokko
biyyattii basaasuuf galgala kana as dhufaniiru” jedhamee himame. 3 Kanaafuu
moottichi Yerikoo, “Sababii isaan guutummaa biyyattii basaasuuf dhufaniif namoota
gara kee dhufanii mana kee seenan sana gad baasi” jedhee dhaamsa kana Rahaabitti
erge.

4 Dubartittiin garuu namoota lamaan fuutee dhoksite. Isheenis akkana jette;
“Dhuguma namoonni gara koo dhufaniiru; ani garuu akka isaan eessaa dhufan hin
beekne. 5 Isaanis galgala yommuu yeroon karri magaalattii cufamu ga’etti ba’anii
deeman. Karaa isaan deemanis ani hin beeku. Isaan qaqqabdu ta’aatii dafaa isaan
duukaa bu’aa.” 6 Isheen garuu gara bantii manaatti ol isaan baaftee cidii talbaa
kan bantii manaa irratti tuultee turte jala isaan dhoksite. 7 Kanaafuu namoonni
basaastota sana duukaa bu’uudhaaf karaa gara malkaa Yordaanos geessu irra bu’anii
qajeelan; karri sunis akkuma duukaa buutonni sun ba’aniin cufame.

8 Isheenis utuu basaastonni sun buluuf hin ciciisin gara bantii manaatti ol baatee
9 akkana isaaniin jette; “Ani akka WAAQAYYO biyya kana isinii kennee fi akka isin
sodaachuun nurra bu’es nan beeka; namni biyya kana keessa jiraatu hundinuus
sababii keessaniif fuula keessan duratti sodaadhaan hollachaa jira. 10 Yommuu isin
Gibxii baatanitti akka itti WAAQAYYO Galaana Diimaa fuula keessan duratti gogse,
waan isinis Sihoonii fi Oogi mootota Amoorotaa kanneen gama ba’a Yordaanositti
guutumaan guutuutti balleessitan sana lamaan gootan dhageenyeerra. 11 Nu
yommuu waa’ee waan kanaa dhageenyetti sababii keessaniif onneen keenya baqxee
abdii kutanne. WAAQAYYO Waaqni keessan ol samii gubbaatti, gad lafa irrattis
Waaqaatii.

12 “Egaa amma sababii ani garaa isinii laafeef isinis akkasuma akka maatii kootiif
garaa laaftan maqaa WAAQAYYOOTIIN naa kakadhaa. Mallattoo dhugaas naa kennaa;
13 kunis akka isin lubbuu abbaa kootii, haadha kootii, obbolootaa fi obboleettota
kootii, waan kan isaanii ta’e hundaa fi lubbuu keenya du’a oolchitaniif.”

14 Namoonnis, “Lubbuun keenya sababii lubbuu keessaniitiif haa badduu! Yoo
isin waan nu hojjennu kana namatti himuu baattan nu yommuu WAAQAYYO biyya
kana nuu kennutti gara laafinaa fi amanamummaadhaan si simanna” jedhanii ishee
abdachiisan.

15 Kanaafuu isheen sababii manni isheen keessa jiraattu sun dallaa magaalattiitiin
wal qabatuuf foddaa keessaan funyoodhaan gad isaan buufte. 16 Isheenis akkana
isaaniin jette; “Akka warri isin duukaa bu’an sun isin hin argineef gara gaarraniitti
baqadhaa. Hamma isaan deebi’anitti guyyoota sadii achitti dhokadhaa; ergasii
immoo karaa keessan deemaa.”

17 Namoonni sunis akkana jedhaniin; “Kakuun ati nu kakachiifte kun kan nu
qabachuu danda’u, 18 yoo ati yommuu nu biyyattii seennutti funyoo bildiimaa kana
foddaa ittiin gad nu buufte kanatti hiitee abbaa keetii fi haadha kee, obboloota keetii
fi maatii kee hunda mana keetti galchite qofa. 19 Namni tokko iyyuu yoo mana kee
keessaa gara daandii alaatti gad ba’e, dhiigni isaa matuma isaatti deebi’a; nu itti hin
gaafatamnu. Nama si wajjin mana kee keessa jiru immoo yoo harki tokko iyyuu isa
tuqe, dhiigni isaa mataa keenyatti deebi’a. 20 Garuu yoo ati waan nu hojjennu kana
namatti himte, nu kakuu ati nu kakachiifte sana jalaa bilisa baana.”

21 Isheenis, “Fudhadheera; akkuma isin jettan haa ta’u” jettee deebifte.

Kanaafuu isheen isaan ergite; isaanis ka’anii deeman. Isheen funyoo bildiimaa
sana foddaa sanatti hiite.

22 Isaanis yommuu ba'anitti gara gaarranii deemanii hamma duukaa buutonni
sun karaa irra barbaadanii isaan dhabanii deebi'anitti guyyaa sadii achi turan.
23 Basaastonni lamaan sunis deebi'anii gaarran keessaa ba'anii malkaadhaan laga
ce'uudhaan gara Iyyaasuu ilma Nuuni dhufan; waan isaan irra ga'e hundas isatti
himan. 24 Isaanis Iyyaasuudhaan, "WAAQAYYO dhugumaan biyyattii guutuu harka
keenyatti kenneera; namoonni hundinuus sababii keenyaaf sodaadhaan hollachaa
jiru" jedhan.

# 3

*Yordaanosiin Ce'uu*

1 Iyyaasuu fi Israa'eloonni hundinuu ganama barii Shixiim keessaa ba'anii gara
Laga Yordaanos dhufan. Utuu gamatti hin ce'in duras achi qubatan. 2 Bultii sadii
booddee ajajjoonni loltootaa qubata keessa dedeemanii, 3 akkana jedhanii namoota
ajajan: "Isin yommuu taabota kakuu WAAQAYYO Waaqa keessaniitii fi Lewwota
luboota ta'an isaanii taaboticha baatan argitanitti iddoo keessanii kaatanii taaboticha
faana bu'uu qabdu. 4 Isin sababii duraan karaa kanaan hin darbiniif, karaa deemuun
isinii malu ni beektu. Garuu isinii fi taaboticha gidduutti gargari fageenya gara
dhundhuma kuma lama hambisaa; ittis hin dhi'aatinaa."
5 Iyyaasuunis uummataan, "Of qulqulleessaa; WAAQAYYO bor gidduu keessanitti
wantoota dinqisiisaa ni hojjetaatii" jedhe.
6 Iyyaasuunis lubootaan, "Taabota kakuu fuudhaatii uummata dura darbaa" jedhe.
Kanaafuu isaan taaboticha fuudhanii uummata dura darban.
7 WAAQAYYOs Iyyaasuudhaan akkana jedhe; "Akka isaan akka ani akkuman Musee
wajjin ture sana si wajjin jiru beekaniif, ani har'a fuula Israa'eloota hundaa duratti
nama guddaa si gochuu nan jalqaba. 8 Atis luboota taabota kakuu baataniin, 'Isin
yommuu qarqara bishaan Yordaanos geessanitti, dhaqaatii laga keessa dhadhaabad-
haa' jedhi."
9 Iyyaasuunis Israa'elootaan akkana jedhe; "As kottaatii dubbii WAAQAYYO Waaqa
keessanii dhaga'aa. 10 Akki isin itti akka Waaqni jiraataan gidduu keessan jiruu
fi akka inni dhugumaan Kana'aanota, Heetota, Hiiwota, Feerzota, Girgaashota,
Amoorotaa fi Yebuusota fuula keessan duraa ari'ee baasu beektan kanaa dha.
11 Kunoo, taabonni kakuu Gooftaa lafa hundumaa isin duraan Yordaanos ni seena.
12 Kanaafuu amma gosoota Israa'el keessaa nama kudha lama jechuunis tokkoo
tokkoo gosaa keessaa nama tokko tokko filadhaa. 13 Akkuma luboonni taabota
WAAQAYYO Gooftaa lafa hundaa baatan miilla isaanii Yordaanos keessa seensisaniin,
bishaan isaa kan gubbaadhaa gad yaa'u ni cita; tuulamees ol dhaabata."
14 Kanaaf yommuu namoonni laga Yordaanos ce'uuf qubata isaanii keessaa
ba'anitti, luboonni taabota kakuu baatanii isaan dura darbanii deeman. 15 Yeroo
midhaan galfamu hunda lagni Yordaanos guutee irra dhangala'a. Ta'us akkuma
luboonni taaboticha baatan Yordaanos ga'anii miilli isaanii qarqara bishaanii tuqeen,
16 bishaan burqaa oliitii dhufu yaa'uu dhiise. Iddoo magaalaa Addaam jedhamu
kan Zaaretaan biraa sana irraa fagaatee tuulamee dhaabate; bishaan gara Galaana
Arabbaatti yookaan Galaana soogiddaatti gad yaa'us guutumaan guutuutti cite.
Kanaafuu namoonni fuullee Yerikootiin gara gamaatti ce'an. 17 Yeroo Israa'eloonni
hundi darbaa turanitti luboonni taabota kakuu WAAQAYYOO baatan sun hamma sabni
guutumaan guutuutti lafa goggogaa irra ce'utti walakkaa Yordaanos keessa qajeelanii
lafa goggogaa irra dhaabatan.

# 4

1 WAAQAYYOS erga sabni guutuun Yordaanosin ce'ee booddee, Iyyaasuudhaan
akkana jedhe; 2 "Saba keessaa nama kudha lama, tokkoo tokkoo gosaa keessaa nama

tokko tokko filadhuutii 3 akka isaan walakkaa Yordaanos keessaa iddoo luboonni
dhadhaabatan sanaa dhagoota kudha lama fuudhanii, baatanii isin wajjin deemanii
iddoo isin edana bultanitti lafa kakaa’an itti himi.”
4 Kanaafis Iyyaasuun, namoota kudha lamaan Israa’eloota keessaa, tokkoo tokkoo
gosaa keessaa tokko tokko filate sana walitti waamee 5 akkana jedheen; “Taabota
Waaqayyo Waaqa keessanii kana dura darbaatii walakkaa Yordaanos seenaa.
Tokkoon tokkoon keessanis akkuma baay’ina gosoota Israa’elootaatti dhagaa tokko
tokko fudhattanii gatiittii keessanitti baachuu qabdu. 6 Kunis akka wanni kun gidduu
keessanitti mallattoo ta’uuf. Yommuu ijoolleen keessan gara fuulduraatti, ‘Dhagoonni
kunneen maal argisiisu?’ jedhanii isin gaafatanitti, 7 akka bishaan laga Yordaanos
fuula taabota kakuu Waaqayyoo duratti gargar cite itti himaa. Yommuu taabonni
kun laga Yordaanos ce’etti bishaan Yordaanos gargar cite. Dhagaawwan kunneenis
saba Israa’eliif yaadannoo bara baraa ta’u.”
8 Kanaafuu Israa’eloonni akkuma Iyyaasuun isaan ajaje godhan. Isaanis akkuma
Waaqayyo Iyyaasuutti hime sana, akkuma baay’ina gosoota Israa’elootaatti dhagoota
kudha lama walakkaa Yordaanos keessaa fuudhan; hamma iddoo qubata isaaniittis
baatanii achitti lafa kaa’atan. 9 Iyyaasuunis dhagoota kudha lamaan walakkaa
Yordaanos keessa iddoo luboonni taabota kakuu baatan sun ijaajjaa turan sana ol
dhadhaabe. Isaanis hamma har’aatti achuma jiru.
10 Luboonni taabota kakuu baatan sunis hamma wanni Waaqayyo akka inni
namootatti himuuf Iyyaasuu ajaje hundi akkuma Museen Iyyaasuu ajajetti raawwata-
mutti walakkaa Yordaanos keessa dhadhaabachaa turan. Namoonnis dafanii ce’an;
11 akkuma hundi isaanii ce’aniinis utuma namoonni arganuu taabonni Waaqayyootii
fi luboonni gara gama kaaniitti ce’an. 12 Ilmaan Ruubeen, ilmaan Gaadii fi walakkaan
gosa Minaasee akkuma Museen isaan ajajetti mi’a lolaa hidhatanii Israa’eloota dura
gara gamaatti ce’an. 13 Namni gara kuma afurtamaa ta’u warraanaaf hidhatee fuula
Waaqayyoo dura gara dirree Yerikootti lolaaf ce’e.
14 Waaqayyos guyyaa sana fuula Israa’eloota hundaa duratti Iyyaasuu nama
guddaa godhe; isaanis akkuma Museef ulfina kennaa turan sana bara jireenya isaa
guutuu Iyyaasuufis ulfina kennan.
15 Ergasiis Waaqayyo Iyyaasuudhaan akkana jedhe; 16 “Akka isaan Yordaanos
keessaa ol ba’aniif luboota taabota kakuu seeraa baatan sana ajaji.”
17 Kanaafuu Iyyaasuun, “Yordaanos keessaa ol ba’aa” jedhee luboota ajaje.
18 Luboonnis taabota kakuu Waaqayyoo baatanii laga keessaa ol ba’an. Akkuma
isaan miilla isaanii lafa gogaa irra dhaabbataniin bishaan Yordaanos iddoo ofiitti
deebi’ee akkuma duraanii guutee irra dhangala’e.
19 Guyyaa kurnaffaa ji’a jalqabaatti namoonni Yordaanos keessaa ol ba’anii Gilgaal
isa ba’a daarii Yerikoo keessa qubatan. 20 Iyyaasuunis dhagoota kudha lamaan isaan
Yordaanos keessaa fuudhan sana Gilgaal keessa dhadhaabe. 21 Innis Israa’elootaan
akkana jedhe; “Gara fuulduraatti yoo sanyiin keessan, ‘Dhagaawwan kunneen maal
argisiisu?’ jedhanii abbootii isaanii gaafatan, 22 ‘Israa’el lafa gogaa irra Yordaanos
ce’e’ jedhaa itti himaa. 23 Waaqayyo Waaqni keessan hamma isin gamatti ceetanitti
fuuluma keessan duratti Yordaanos gogsee tureetii. Waaqayyo Waaqni keessan
akkuma hamma nu ceenutti Galaana Diimaa fuula keenya duratti gogse sana
Yordaanosiinis gogse. 24 Innis akka sabni lafaa hundinuu akka harki Waaqayyoo
jabaa ta’e argisiisuu fi akka isinis yeroo hunda Waaqayyo Waaqa keessan sodaattaniif
waan kana hojjete.”

# 5

*Gilgaalitti Dhagna Qabamuu*

1 Mootonni Amoorotaa kanneen gama dhi'a Yordaanos jiraatanii fi mootonni
Kana'aanotaa kanneen qarqara galaanaa jiraatan hundi akka WAAQAYYO hamma nu
ceenutti fuula saba Israa'el duratti Yordaanos gogse yommuu dhaga'anitti onneen
isaanii ni baqxe; deebi'aniis fuula Israa'elootaa dura dhaabachuu sodaatan.

2 WAAQAYYO yeroo sana Iyyaasuudhaan, "Haaduu qara qabu tolchiitii ammas
Israa'eloota dhagna qabi" jedhe. 3 Kanaafuu Iyyaasuun haaduu qara qabu tolchee
Gibe'aat Aaralootitti Israa'eloota dhagna qabe.

4 Sababiin Iyyaasuun waan kana hojjeteef kana: Warri biyya Gibxii ba'anii
dhufan hundinuu jechuunis dhiironni lolan hundinuu erga Gibxii ba'anii booddee
gammoojjii keessatti karaatti dhuman. 5 Namoonni Gibxii ba'an hundi dhagna
qabatanii turan; warri yeroo Gibxii ba'anii gammoojjii keessa deemaa turanitti
karaatti dhalatan garuu dhagna hin qabamne. 6 Israa'eloonni sababii WAAQAYYOOF
ajajamuu didaniif hamma namoonni yeroo Gibxii ba'anitti loluu danda'an hundi
dhumanitti waggaa afurtama gammoojjii keessa jooran. WAAQAYYO akka isaan biyya
inni nuu kennuuf abbootii isaanii abdachiisee ture, biyya aannanii fi damma baaftu
sana hin argine isaanitti kakatee tureetii. 7 Kanaafuu inni qooda isaanii ilmaan isaanii
kaase; isaanis warra Iyyaasuun dhagna qabee dha. Isaan sababii karaatti dhagna
hin qabaminiif hamma har'aatti utuu dhagna hin qabamin jiraatan. 8 Isaanis erga
sabni guutuun dhagna qabamee booddee hamma fayyanitti lafuma jiran sana qubata
keessa turan.

9 WAAQAYYOS Iyyaasuudhaan, "Ani har'a arrabsoo Gibxi sana isin irraa gan-
galcheera" jedhe. Kanaafuu iddoon sun hamma har'aatti Gilgaal jedhamee waa-
mama.

10 Galgala bultii kudha afuraffaa ji'a sanaatti sabni Israa'el utuma dirree Yerikoo
irra Gilgaal keessa qubatee jiruu Faasiikaa ayyaaneffate. 11 Isaanis guyyaa Faasi-
ikaatti aanee dhufu, gaafuma sana midhaan biyyattii keessaa waa nyaatan; kunis
Maxinoo fi asheetii waadamee dha. 12 Mannaanis guyyuma isaan midhaan biyya
sanaa nyaatanitti aanu gad bu'uu dhiise; ergasii mannaan tokko iyyuu warra
Israa'eliif gad hin buune; garuu isaan waggaa sana keessa midhaan biyya Kana'aan
nyaatan.

### *Yerikoon Jiguu Isaa*

13 Iyyaasuun yommuu Yerikootti dhi'aatetti, ol mil'atee nama goraadee luqqifame
harkatti qabatee isa dura dhaabatu tokko arge. Iyyaasuun gara isaa dhaqee, "Ati gara
keenya moo gara diinota keenyaa ti?" jedhee isa gaafate.

14 Innis deebisee, "Ani gara eenyuu iyyuu miti; garuu ani amma akka ajajaa loltoota
WAAQAYYOOTTI dhufeera" jedhe. Iyyaasuunis addaan lafatti gombifamee sagadee,
"Ergaan Gooftaan koo garbicha isaatiif qabu maali?" jedhee isa gaafate.

15 Ajajaan loltoota WAAQAYYOOS Iyyaasuudhaan, "Sababii iddoon ati dhaabattu kun
qulqulluu ta'eef kophee kee of irraa baasi" jedhe. Iyyaasuunis akkasuma godhe.

# 6

1 Yeroo sanatti Yerikoon sababii Israa'elootaatiif jabeeffamtee cufamtee turte.
Namni tokko iyyuu gad hin ba'u; namni tokko iyyuus ol hin seenu ture.

2 WAAQAYYOS Iyyaasuudhaan akkana jedhe; "Kunoo ani mootii isheetii fi loltoota
ishee wajjin Yerikoo dabarsee harka keetti kenneera. 3 Hidhattoota hunda wajjin
yeroo tokko magaalattii irra naanna'aa; kanas bultii ja'a hojjedhaa. 4 Luboonni torbas
malakata torba kanneen gaanfa hoolaa irraa hojjetaman qabatanii taabota dura
haa deeman. Isinis guyyaa torbaffaatti yeroo torba magaalattii irra nanaanna'aa;
luboonnis malakata haa afuufan. 5 Yommuu isaan sagalee malakataa dheeraa isaa

dhageessisanitti namni hundinuu sagalee guddaadhaan haa iyyu; dallaan magaalaa
sanaa yommusuma jiga; namoonnis ol ba'u; namni hundinuus qajeelee itti seena."
6 Kanaafuu Iyyaasuun ilmi Nuuni luboota ofitti waamee, "Taabota kakuu
Waaqayyoo fuudhaatii luboonni torba malakata baatanii isa dura haa deeman"
jedheen. 7 Namootaanis, "Fuula duratti deemaatii magaalaa sana irra naanna'aa;
loltoonni hidhatanis taabota Waaqayyoo dura haa deeman" jedhe.
8 Erga Iyyaasuun namootatti dubbatee booddee, luboonni torban fuula Waaqayyoo
duratti malakata torba baatan sun malakata isaanii afuufaa dura darban; taabonni
kakuu Waaqayyoos isaan duukaa bu'e. 9 Loltoonni mi'a lolaa hidhatanis luboota
malakata afuufaa turan dura deeman; loltoonni dugda duubaa immoo taaboticha
duukaa bu'an. Yeroo kana hundas malakanni afuufamaa ture. 10 Iyyaasuun garuu
namootaan, "Iyya lolaa hin iyyinaa; sagalee keessan ol hin fudhatinaa; hamma
guyyaa ani iyyaa isiniin jedhuutti dubbii tokko illee hin dubbatinaa. Gaafas iyyaa!"
jedhe. 11 Kanaafuu inni akka taabonni Waaqayyoo baatamee magaalaa sana irra
yeroo tokko naanna'u godhe. Ergasiis namoonni gara qubataatti deebi'anii achi
bulan.
12 Iyyaasuun guyyaa itti aanu ganama barii ka'e; luboonnis taabota Waaqayyoo
ol fuudhan. 13 Luboonni torban malakata torba baatanis taabota Waaqayyoo dura
deemaa malakatas afuufaa fuula duratti qajeelan. Loltoonni mi'a lolaa hidhatan
isaan dura bu'an; loltoonni dugda duubaa immoo taabota Waaqayyoo duukaa
bu'an; malakannis ittuma fufee afuufamaa ture. 14 Kanaafuu guyyaa lammaffaatti
yeroo tokko magaalattii irra naanna'anii gara qubataatti deebi'an. Kanas bultii ja'a
hojjetan.
15 Guyyaa torbaffaatti ganama barii ka'anii haaluma duraa sanaan yeroo torba
magaalattii irra naanna'an; isaan gaafuma sana qofa yeroo torba magaalattii
irra naanna'an. 16 Marsaa torbaffaatti yommuu luboonni malakata afuufanitti
Iyyaasuun akkana jedhee namoota ajaje; "Iyyaa! Waaqayyo magaalattii isinii
kenneeraatii! 17 Magaalattii fi wanni ishee keessa jiru hundinuu Waaqayyoof addaan
haa baafaman. Sababii isheen basaastota nu erganne sana dhoksiteef, Rahaab
sagaagaltittiin qofti warra mana ishee keessa jiran hunda wajjin haa baraaramtu.
18 Isin garuu akka isaan keessaa tokko illee fudhattanii akkasiin badiisa ofitti hin
fidneef waan laguu ta'e irraa fagaadhaa. Yoo kanaa achii isin qubata Israa'eliitti
iyyuu badiisa fiddanii rakkina irraan geessu. 19 Meetii fi warqeen hundi, mi'i naasiitii
fi sibiilaa hundi sababii Waaqayyoof qulqulleeffamaniif mankuusa isaatti galuu
qabu."
20 Yommuu malakanni afuufametti namoonni ni iyyan; yommuu sagaleen malakata
sanaa dhaga'amee namoonnis sagalee guddaadhaan iyyanitti dallaan magaalaa
sanaa ni kufe. Kanaafuu namni hundi fuul duratti girrisee seenuudhaan magaalaa
sana qabate. 21 Isaanis waan magaalaa sana Waaqayyoof addaan baasaniif waan
isa keessa jiru hunda jechuunis dhiiraa dubartii, xinnaa guddaa, loon, hoolotaa fi
harroota goraadeedhaan fixan.
22 Iyyaasuunis namoota lamaan biyya sana basaasanii turaniin, "Mana sagaagaltuu
sanaa ol seenaatii akkuma isin isheef kakattanitti ishee fi warra kan ishee ta'an hunda
gad baasaa fidaa" jedhe. 23 Kanaafuu dargaggoonni basaasuu dhaqanii turan sun ol
seenanii Rahaab, abbaa isheetii fi haadha ishee, obboloota isheetii fi waan kan ishee
ta'e hundumaa gad baasan. Maatii ishee hundas alatti baasanii qubata Israa'eliitiin
ala isaan tursan.
24 Ergasii guutummaa magaalaa sanaatii fi waan ishee keessa jiru hunda guban;
garuu meetii fi warqee, mi'a naasiitii fi sibiilaa mankuusa mana Waaqayyootti
galchan. 25 Iyyaasuun garuu sababii isheen namoota inni akka basaasaniif gara
Yerikootti ergee ture sana dhoksiteef Rahaab sagaagaltuu sana maatii isheetii fi waan

kan ishee ta'e hunda wajjin ni baraare; isheenis hamma ammaatti Israa'eloota gidduu jiraatti.

26 Iyyaasuunis yeroo sanatti akkana jedhee kakate; "Namni magaalaa Yerikoo kana
deebisee ijaaru fuula WAAQAYYOO duratti abaaramaa haa ta'u:

"Inni hundee ishee buusnaan,
ilmi isaa hangafti haa du'u;
karra ishee ijaaruu jalqabnaan,
ilmi isaa quxisuun haa du'u."

27 Kanaafuu WAAQAYYO Iyyaasuu wajjin ture; maqaan isaas guutummaa biyyatii
keessatti beekame.

# 7

*Cubbuu Aakaan*

1 Israa'eloonni garuu waan Waaqayyoof addaan baafame irratti amanamummaa
dhaban; Aakaan ilmi Karmii, ilmi Zabdii, ilmi Zaaraa kan gosa Yihuudaa waan
Waaqayyoof addaan baafame sana keessaa waan tokko tokko fudhate. Kanaafis
dheekkamsi WAAQAYYOO Israa'el irratti boba'e.

2 Kana irratti Iyyaasuun Yerikoodhaa gara Aayi kan Beet Aawwen bira gama ba'a
Beet'eelitti argamtu sanaatti nama ergee, "Dhaqaatii naannoo sana basaasaa" jedhe.
Kanaafuu namoonni ol ba'anii Aayin basaasan.

3 Isaanis gara Iyyaasuutti deebi'anii, "Namni hundinuu Aayitti ol ba'uu hin qabu.
Sababii namni muraasni qofti achi jiruuf akka isaan dhaqanii biyyattii fudhataniif
nama kuma lama yookaan kuma sadii ta'u ergi malee namoota hundumaa hin
dadhabsiisin" jedhaniin. 4 Kanaafuu namoonni gara kuma sadii ta'an ka'anii ol
ba'an; isaan garuu namoota Aayi duraa baqatan; 5 namoonni Aayis gara nama
soddomii ja'a isaan jalaa fixan. Isaanis karra magaalattiitii jalqabanii hamma
Shabaariimiitti Israa'eloota ari'anii ededa irratti isaan fixan; kanaanis onneen
namootaa baqxee akka bishaanii taate.

6 Iyyaasuunis uffata isaa tarsaasee fuula taabota WAAQAYYOO duratti addaan
lafatti gombifamee hamma galgalaatti achuma ture. Maanguddoonni saba Israa'elis
akkasuma godhanii mataa ofii isaanii irratti awwaara firfirsan. 7 Iyyaasuunis akkana
jedhe; "Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati maaliif akka isaan nu fixaniif harka Amoorotaatti
nu kennuuf jettee saba kana Yordaanosiin ceesifte? Silaa utuu Yordaanos gamatti
hafnee nuuf wayya ture! 8 Yaa Gooftaa, erga sabni Israa'el diinota isaa baqatee ani
amma maal jechuu danda'a? 9 Kana'aanonnii fi saboonni biyya kanaa kan biraa
waan kana dhaga'anii nu marsanii maqaa keenya lafa irraa ni balleessu. Yoos ati
maqaa kee guddaa sanaaf maal goota?"

10 WAAQAYYOS Iyyaasuudhaan akkana jedhe; "Ol ka'i! Ati maaliif addaan
gombifamte? 11 Israa'el cubbuu hojjeteera; isaan kakuu koo kan ani akka isaan
eeganiif isaan ajaje sana cabsaniiru. Isaan waan addaan naa baafame keessaa
waan tokko tokko fudhataniiru; hataniiru; sobaniiru; waan sanas qabeenya isaanii
wajjin ol kaa'ataniiru. 12 Wanni Israa'eloonni diinota isaanii dura dhaabachuu
hin dandeenyeefis kanuma; isaan sababii badiisaaf ramadamaniif dugda duubatti
garagalanii diinota isaanii baqatan. Ani hamma ati waan badiisaaf ajajame kam
iyyuu gidduu keessanii balleessitutti si'achi isin wajjin hin jiraadhu.

13 "Ka'iitii saba qulqulleessi. Akkanas isaaniin jedhi; 'Boriif ofi qulqulleessaa;
wanni WAAQAYYO Waaqni Israa'el jedhu isa kanaatii; yaa Israa'el, wanni hirmii ta'e
tokko gidduu keessan jira. Isin hamma waan sana of keessaa baaftanitti diinota
keessan of irraa ittisuu hin dandeessan.

14 " 'Kanaafuu ganama gosa gosaan ofi dhi'eessaa. Gosti WAAQAYYO filatu balbala
balbalaan gara fuula duraatti haa ba'u; balballi WAAQAYYO filatus maatii maatiidhaan
gara fuula duraatti haa ba'u; maatiin WAAQAYYO filatus nama tokko tokkoon gara
fuula duraatti haa ba'u. 15 Namni waan balleeffamuu qabu wajjin qabame, waan
qabu hundumaa wajjin ibiddaan haa gubamu. Inni kakuu WAAQAYYOO cabseera;
waan Israa'el keessatti qaanii ta'es hojjeteera!' "

16 Kanaafuu Iyyaasuun ganama bariin ka'ee saba Israa'el gosa gosaan gara fuula
duraatti baase; gosti Yihuudaas ni filatame. 17 Balballi Yihuudaa gara fuula duraatti
ba'e; Iyyaasuunis balbala Zaaraa addaan baase. Balballi Zaaraas maatii maatiin gara
fuula duraatti ba'e; Zabdiinis ni filatame. 18 Iyyaasuunis maatii isaa nama tokko
tokkoon gara fuula duratti baase; Aakaan ilmi Karmii, ilmi Zabdii, ilmi Zaaraa kan
gosa Yihuudaa ni filatame.

19 Kana irratti Iyyaasuun Aakaaniin akkana jedhe; "Yaa ilma ko, WAAQAYYO Waaqa
Israa'eliif ulfina kenni; cubbuu kees isatti himadhu; mee waan hojjette natti himi; na
hin dhoksin."

20 Aakaanis akkana jedhee deebise; "Wanni kun dhugaa dha! Ani WAAQAYYO
Waaqa Israa'elitti cubbuu hojjedheera. Wanni ani hojjedhes kunoo kana: 21 Ani
waan Baabilonii booji'ame keessaa waaroo bareedaa tokko, meetii saqilii dhibba
lamaa fi warqee saqilii shantama ulfaatu arginaan kajeelee fudhadheera. Mi'i kunis
dunkaana koo keessatti meetii jala lafa keessatti dhokfameera."

22 Kanaafuu Iyyaasuun ergamoota erge; isaanis gara dunkaana sanaatti fiigan;
mi'i sunis dunkaanicha keessatti, meetii jala dhokfamee ture. 23 Isaan mi'a sana
dunkaanicha keessaa guuranii gara Iyyaasuutii fi Israa'eloota hundaatti fidanii fuula
WAAQAYYOO duratti diriirsan.

24 Ergasiis Iyyaasuu fi Israa'eloonni hundi Aakaan ilma Zaaraa, meetii, waaroo,
muraa warqee, ilmaan isaatii fi intallan isaa, loon isaa, harroota isaa, hoolota
isaa, dunkaana isaatii fi waan inni qabu hunda guuranii Sulula Aakooritti geessan.
25 Iyyaasuunis, "Ati maaliif rakkina kana hunda nutti fidde? WAAQAYYO har'a rakkina
sitti fida" jedheen.

Israa'eloonni hundinuus dhagaadhaan isa tuman; jara kaan illee erga dhagaadhaan
tumanii booddee ibiddaan isaan guban. 26 Aakaan irratti tuulaa dhagaa guddaa
hamma har'aatti illee jiru tokko tuulan. WAAQAYYOS dheekkamsa isaa guddaa
sana irraa deebi'e. Kanaafis iddoon sun hamma har'aatti Sulula Aakoor jedhamee
waamama.

# 8

### *Magaalaan Aayi Barbadeeffamte*

1 Ergasiis WAAQAYYO Iyyaasuudhaan akkana jedhe; "Hin sodaatin yookaan abdii hin
kutatin. Loltoota hunda fudhadhuutii ol ba'ii magaalaa Aayi loli. Ani kunoo mootii
Aayi, nama isaa, magaalaa isaatii fi biyya isaa harka keetti dabarsee kenneeraatii.
2 Akkuma Yerikoo fi mootii ishee goote sana, Aayii fi mootii ishee illee goota; yeroo
kana garuu boojuu fi horii ishee ofii keessanii fudhachuu dandeessu. Nama riphee
magaalattii eegu karaa duubaatiin kaa'i."

3 Iyyaasuu fi loltoonni hundinuus ka'anii Aayin loluuf ba'an. Innis loltoota isaa
warra jajjaboo keessaa nama kuma soddoma filatee halkaniin erge; 4 akkanas
jedhee isaan ajaje: "Mee qalbiidhaan na dhaga'aa. Isin boroo magaalaatti riphxu.
Guddiftanii irraa hin fagaatinaa. Hundi keessan qophaa'aa. 5 Anii fi warri na wajjin
jiran hundi magaalaa sanatti dhi'aanna; yommuu namoonni akkuma duraa sana
fuula duraan nutti dhufan nu isaan duraa baqanna. 6 Isaanis sababii, 'Jarri kun
akkuma duraa sana nu baqachaa jiru' nuun jedhaniif, hamma nu magaalaa sana

irraa isaan fageessinutti nu duukaa bu’u. Kanaafuu yommuu nu isaan baqannutti,
7 isin immoo iddoo itti riphxanii kaatanii magaalaa sana qabattu. WAAQAYYO Waaqni
keessanis magaalaa sana harka keessanitti dabarsee ni kenna. 8 Isin yommuu
magaalaa sana qabattanitti ibidda itti qabsiisaa. Waan kanas akkuma WAAQAYYO
ajajetti hojjedhaa. Kunoo ani isin ajajeera.”

9 Ergasii Iyyaasuun isaan erge; isaanis gara iddoo itti riphan kan gama ba’a Aayitiin
Beet’eelii fi Aayi gidduu jiru sanaa dhaqan; Iyyaasuun garuu halkan sana uummata
wajjin bule.

10 Guyyaa itti aanu ganama barii Iyyaasuun namoota ofii isaa walitti qabatee
innii fi maanguddoonni Israa’el namoota dura Aayitti ol qajeelan. 11 Loltoonni
isa wajjin turan hundinuu ol ba’anii fuula duraan magaalattiitti dhi’aatanii karaa
kaaba Aayitiin qubatan. Sululli tokkos isaanii fi magaalattii gidduutti argama ture.
12 Iyyaasuun nama gara kuma shan fudhatee gama lixa magaalattiitiin Beet’eelii
fi Aayi gidduutti riphsiise. 13 Isaanis namoota, jechuunis loltoota gama kaaba
magaalattiitiin turan hundaa fi warra dugda duubaan gama lixaatiin riphanii turan
iddoo iddoo isaanii qabsiisan. Iyyaasuun garuu gara sululaatti gad bu’ee halkan sana
achi bule.

14 Mootiin Aayi yommuu waan kana argetti, innii fi namoonni magaalaa sanaa
hundinuu iddoo Arabbaan olii tokkotti Israa’elootaan wal waraanuuf ganama bariin
ariifatanii ba’an. Inni garuu akka waraanni riphee dugda magaalaa sanaa duubaan
isa eeggatu hin beekne. 15 Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundi waan ari’aman of
fakkeessanii dugda duubatti deebi’anii fuula isaanii dura gara gammoojjiitti baqatan.
16 Namoonni Aayi hundinuus akka Israa’eloota ari’aniif walitti waamaman; isaanis
Iyyaasuu faana bu’anii akkasiin magaalattii irraa fageeffaman. 17 Namni Israa’eloota
faana bu’ee ari’uuf hin ba’in tokko iyyuu Aayi yookaan Beet’eel keessatti hin hafne.
Magaalattiis eegumsa malee hambisanii Israa’eloota ari’uuf ba’an.

18 WAAQAYYOS Iyyaasuudhaan, “Sababii ani magaalattii harka keetti dabarsee
kennuuf, eeboo harkaa qabdu gara Aayitti deebifadhu” jedhe. Kanaafuu Iyyaasuun
eeboo isaa gara Aayitti deebifate. 19 Akkuma inni waan kana godheen warri riphanii
eeggachaa turan sun dafanii iddoo isaaniitii ka’anii fuul duratti fiigan. Isaanis
magaalattii seenanii qabatan; dafaniis ibidda itti qabsiisan.

20 Namoonni Aayi yommuu garagalanii of duuba ilaalanitti aara magaalattii kan
samiitti ol ka’u argan; garuu sababii Israa’eloonni duraan gara gammoojjiitti baqatan
sun amma warra isaan ari’aa jiranitti garagalaniif, jarri eessumattuu baqachuuf
carraa tokko illee hin arganne. 21 Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundinuu yommuu akka
warri riphee eeggachaa ture sun magaalattii qabatee fi akka aarri magaalattii irraa
ka’u arganitti of irra garagalanii namoota Aayi dha’an. 22 Namoonni riphanii turanis
magaalaadhaa ba’anii isaanitti dhufan; kanaafuu Israa’eloonni gamanaa gamasiin
isaan marsanii jarri Israa’eloota gidduutti qabaman. Israa’eloonnis akka namni tokko
iyyuu hin hafneef yookaan baqatee hin miliqneef isaan fixan. 23 Mootii Aayi garuu
lubbuudhumaan qabanii Iyyaasuutti fidan.

24 Israa’eloonni yommuu dhiirota Aayi hunda dirree fi gammoojjii jarri itti
Israa’eloota ari’an sanatti qalanii isaan fixanitti, Israa’eloonni hundinuu gara Aayitti
dacha’anii warra achitti hafes goraadeedhaan barbadeessan. 25 Namoonni Aayi
kanneen gaafasi dhuman dhiiraa dubartiin kuma kudha lama turan. 26 Iyyaasuun
hamma namoota Aayi keessa jiraatan hunda fixutti harka isaa kan diriirfatee ittiin
eeboo qabate sana hin dachaafanne tureetii. 27 Israa’el garuu akkuma WAAQAYYO
Iyyaasuu ajajetti horii fi boojuu magaalattii qofa fudhate.

28 Akkasitti Iyyaasuun Aayin gubee tuulaa daaraa godhe hambise; hamma
har’aattis isheen akkuma barbadooftetti jirti. 29 Innis mootii Aayi muka irratti

fannisee hamma biiftuun lixxutti achumatti isa dhiise. Iyyaasuun yommuu aduun
dhiitetti akka isaan reeffa isaa muka irraa gad buusanii karra magaalattii duratti
darbatan isaan ajaje. Isaanis tuulaa dhagaa guddaa hamma har'aattis jiru reeffa
sana irratti tuulan.

### *Tulluu Gebaal Irratti Kakuun Haaromfame*

30 Ergasii Iyyaasuun Tulluu Eebaal irratti WAAQAYYO Waaqa Israa'eliif iddoo aarsaa
ijaare. 31 Iddoo aarsaa kanas akkuma Museen garbichi WAAQAYYOO Israa'eloota
ajaje sanatti hojjete. Innis akkuma Kitaaba Seera Musee keessatti barreeffametti
dhagaa hin soofamin kan sibiilli hin tuqiniin hojjete; isa irrattis aarsaa gubamu
dhi'eessanii aarsaa nagaas WAAQAYYOOF qalan. 32 Iyyaasuunis achumatti fuula
Israa'elootaa duratti, seera Museen barreessee ture sana dhagaa irratti garagalche.
33 Israa'eloonni hundinuu, alagaa fi dhalataan biyyaa, maanguddoota isaanii wajjin,
ajajjoota loltootaatii fi abbootii seeraa wajjin, Lewwota luboota ta'an kanneen taabota
kakuu WAAQAYYOO baatan sanatti fuula deebifatanii bitaa mirgaan dhadhaabatan.
Akkuma Museen garbichi WAAQAYYOO akka isaan saba Israa'el eebbisaniif jalqabatti
isaan ajaje sanatti walakkaan isaanii Tulluu Gerziim dura dhadhaabatanii walakkaan
isaanii immoo Tulluu Eebaal dura dhadhaabatan.
34 Ergasiis Iyyaasuun akkuma Kitaaba Seeraa keessatti barreeffametti dubbii seeraa
hunda kan eebbaatii fi kan abaarsaa ni dubbise. 35 Dubbii Museen isa ajaje
hunda keessaa wanni Iyyaasuun waldaa Israa'el hundaaf akkasumas dubartootaaf,
daa'immanii fi alagoota gidduu isaanii jiraataniif utuu hin dubbisin bira darbe tokko
iyyuu hin turre.

# 9

### *Gowwoomsaa Warra Gibe'oon*

1 Mootonni Heetotaa, Amoorotaa, Kana'aanotaa, Feerzotaa, Hiiwotaatii fi Yebu-
usotaa kanneen gama lixa Yordaanos biyya gaaraa, lafa gammoojjiitii fi qarqara
Galaana Guddichaa kan hamma Libaanoonitti jiru keessa jiraatan yommuu waan
kana dhaga'anitti, 2 Iyyaasuu fi Israa'elitti waraana banuuf walitti qabaman.
3 Namoonni Gibe'oon garuu yommuu waan Iyyaasuun Yerikoo fi Aayi godhe
dhaga'anitti, 4 isaanis gama isaaniitiin daba hojjechuuf mari'atan; isaanis nama karaa
deemu fakkaatanii keeshaa moofa'ee fi qalqalloo daadhii wayinii kan dulloomee
tarsa'ee erbame harree isaaniitti fe'atanii qajeelan. 5 Kophee moofa'ee erbame
miillatti kaa'atanii wayyaa moofa'e uffatan. Buddeenni isaan fudhatanii deeman
hundis goggogaa fi kan arraa'ee ture. 6 Isaanis qubata Gilgaalitti Iyyaasuu bira
dhaqanii isaa fi namoota Israa'eliin, "Nu biyya fagoodhaa dhufne; kanaafuu kottaa
walii galtee godhannaa" jedhan.
7 Namoonni Israa'el immoo Hiiwotaan, "Tarii isin asuma nutti dhi'oo jiraattu ta'a;
yoos nu akkamiin isin wajjin walii galtee godhachuu dandeenya ree?" jedhan.
8 Isaan garuu Iyyaasuudhaan, "Nu garboota kee ti" jedhan.
Iyyaasuunis, "Isin eenyuu dha? Eessaa dhuftani?" jedhee isaan gaafate.
9 Isaanis akkana jedhanii deebisaniif; "Nu garboonni kee sababii maqaa WAAQAYYO
Waaqa keetii dhageenyeef biyya akka malee fagootii dhufne. Nu oduu waa'ee isaatii
fi waan inni biyya Gibxii keessatti hojjete hundumaa dhageenyeerraatii; 10 waan
inni mootota Amoorotaa lamaan warra gama ba'a Yordaanos jiraatan jechuunis
Sihoon mootii Heshboonii fi Oogi mootii Baashaan kan Ashtaaroti bulchaa ture
sana godhe hundumaa dhageenyeerra. 11 Maanguddoonni keenyaa fi jiraattonni
biyya keenyaa hundinuu, 'Karaa keessaniif waan nyaattan harkatti qabadhaatii isaan
arguu dhaqaa, "Nu garboota keessanii dha; kanaafuu kottaa walii galtee godhannaa"
jedhaanii' nuun jedhan. 12 Buddeenni keenya kun gaafa nu hidhannee gara keessan

dhufuuf manaa baane ho'aa ture. Amma garuu akka inni goggogee arraa'e argaa.
13 Qalqalloon nu daadhii wayinii itti guutanne kunis haaraa ture; amma garuu akka
inni tatarsa'e ilaalaa. Uffanni keenyaa fi kopheen keenyas deemsa karaa dheeraa
kanaan nu jalaa dhumeera."
14 Namoonni Israa'el galaa isaanii irraa waa fudhatan malee WAAQAYYOON gorsa
hin gaafanne. 15 Iyyaasuunis akka isaan jiraataniif isaan wajjin walii galtee nagaa
godhe; hooggantoonni waldaas waan kana kakuudhaan mirkaneessan.
16 Warri Israa'el immoo erga Gibe'oonota wajjin walii galtee godhatan guyyaa
sadii booddee akka jarri warra naannoo isaanii kanneen isaanitti dhi'oo jiraatan
ta'an dhaga'an. 17 Kanaafuu Israa'eloonni ka'anii guyyaa sadaffaatti gara magaalaa
isaanii jechuunis gara Gibe'oon, Kefiiraa, gara Bi'eerootii fi Kiriyaati Ye'aariim
dhufan. 18 Israa'eloonni garuu sababii hooggantoonni waldaa maqaa WAAQAYYO
Waaqa Israa'eliitiin isaaniif kakatanii turaniitiif isaan hin tuqne.
Waldaan sun guutuunis hooggantootatti guungume; 19 hooggantoonni hundi garuu
akkana jedhanii deebisan; "Nu WAAQAYYO Waaqa Israa'eliin isaanii kakanneerra;
kanaafuu nu amma isaan tuquu hin dandeenyu. 20 Wanni nu isaan goonu kana:
Akka kakuu isaanii kakanne sana cabsinee dheekkamsi nurra hin buuneef akka isaan
jiraataniif ittuma dhiifna." 21 Hooggantoonni sunis ittuma fufanii, "Jarri haa jiraatan;
garuu guutummaa sabaatiif warra muka muranii fi warra bishaan waraaban haa
ta'an" jedhan. Akkasiinis kakuun hooggantoonni isaaniif galan sun ni eegame.
22 Iyyaasuunis Gibe'oonota ofitti waamee akkana jedheen; "Isin maaliif utuma
nutti dhi'oo jiraattanuu, 'Nu biyya isin irraa fagoo ta'e keessa jiraanna' jettanii nu
gowwoomsitan? 23 Isin amma abaarsa jala jirtu; tokkoon keessan iyyuu mana Waaqa
kootiif muka muruu fi bishaan waraabuu jalaa hin baatan."
24 Isaanis akkana jedhanii Iyyaasuuf deebii kennan; "Akka WAAQAYYO Waaqni
kee akka Museen biyyaattii guutuu isinii kennuu fi akka inni warra achi jiraatan
hunda fuula keessan duraa balleesuuf garbicha isaa Musee ajaje nu garboota keetti
dhugumaan himameera. Kanaafuu nu sababii keessaniif jennee lubbuu keenyaaf
sodaanne; wanni nu waan kana gooneefis kanuma. 25 Nu kunoo amma harka kee
keessa jirra. Atis waan gaarii fi qajeelaa seete hundumaa nurratti raawwadhu."
26 Kanaafuu Iyyaasuun Israa'eloota duraa isaan baase; Israa'eloonnis isaan hin
ajjeefne. 27 Innis guyyuma sana Gibe'oonota sana saba hundaaf, akkasumas iddoo
WAAQAYYO filatutti iddoo aarsaa WAAQAYYOOTIIF warra muka muranii fi warra
bishaan waraaban isaan godhe. Isaanis hamma har'aatti kanuma hojjetu.

# 10

### *Aduun Idduma Jirtu Dhaabatte*

1 Adoonii-Zedeq Mootiin Yerusaalem akka Iyyaasuun Aayin qabatee guutumaan
guutuutti barbadeesse, akka inni akkuma Yerikoo fi mootii ishee godhe sana Aayii
fi Mootii ishee godhe, akkasumas akka namoonni Gibe'oon Israa'eloota wajjin
walii galtee nagaa godhatanii isaan bira jiraatan dhaga'e. 2 Sababii magaalaan
Gibe'oon akkuma magaalaa moototaa tokkootti magaalaa hangafa taateef innii fi
namoonni isaa akka malee rifatan; magaalaan Gibe'oon magaalaa Aayi caalaa guddoo
turte; namoonni ishees loltoota jajjaboo turan. 3 Kanaafuu Adoonii-Zedeq mootichi
Yerusaalem sun Hoohaam mooticha Kebroonitti, Phiraam mooticha Yarmuutitti,
Yaafiiyaa mooticha Laakkiishii fi Debiir mooticha Egloonitti ergee, 4 "Sababii isheen
Iyyaasuu fi Israa'el wajjin walii galtee nagaa godhatteef ol kottaatii Gibe'oonin
waraanuu na gargaaraa" jedheen.
5 Kanaafuu mootonni Amoorotaa shananuu jechuunis mootiin Yerusaalem, mootiin
Kebroon, mootiin Yarmuut, mootiin Laakkiishii fi mootiin Egloon humna waraanaa

walitti dabalatan. Isaanis loltoota isaanii hunda fudhatanii ol ba'anii Gibe'oonin
marsanii waraanan.
6 Namoonni Gibe'oonis qubata Gilgaal gara Iyyaasuutti ergaa erganii akkana
jedhaniin; "Ati garboota kee hin dhiisin. Dafii nu qaqqabiitii nu oolchi; sababii
mootonni Amoorotaa kanneen biyya gaaraa keessa jiraatan hundi nu waraanuuf
loltoota walitti dabalataniif nu gargaari."
7 Kanaafuu Iyyaasuun loltoota isaa hunda wajjin, namoota waraanaa jajjabeeyyii
hundas dabalatee Gilgaalii ol ba'e. 8 WAAQAYYOS Iyyaasuudhaan, "Isaan hin sodaatin;
ani harka keetti dabarsee isaan kenneera. Tokkoon isaanii iyyuu fuula kee dura
dhaabachuu hin danda'an" jedhe.
9 Kanaafuu Iyyaasuun Gilgaalii ba'ee halkan guutuu deemaa bulee tasuma isaanitti
dhufe. 10 WAAQAYYOS fuula Israa'elootaa duratti isaan burjaajesse; Israa'eloonnis
Gibe'oonitti mo'annaa guddaadhaan isaan mo'atan. Karaa Beet Horoonitti geessu
irra isaan ari'aa hamma Azeeqaa fi Maqeedaatti isaan gogorra'an. 11 Utuma isaan
Israa'eloota duraa karaa Beet Horooniin gara Azeeqaatti gad baqachaa jiranuu
WAAQAYYO samiidhaa cabbii gurguddaa itti roobse; warra goraadee Israa'elootaatiin
dhuman caalaa kanneen cabbii kanaan dhumanitu baay'ata.
12 Gaafa WAAQAYYO Amoorota dabarsee Israa'elootatti kenne sana Iyyaasuun fuula
Israa'elootaa duratti WAAQAYYOON akkana jedhe:

"Yaa aduu, Gibe'oon gubbaa dhaabadhu;
yaa ji'a, atis Sulula Ayaaloon gubbaa dhaabadhu."
13 Kanaafuu hamma sabni diinota isaa haaloo baafatutti
aduun idduma jirtu dhaabatte;
ji'is ni dhaabate;
wanni kun Kitaaba Yaashaar keessatti barreeffameera mitii?

Aduun walakkaa samii keessa dhaabattee guyyaa tokko guutuu utuu hin dhi'in
turte. 14 Guyyaan WAAQAYYO nama dhaga'e kan akkasii gaafasiin dura yookaan
ergasii takkumaa ta'ee hin beeku. WAAQAYYO dhugumaan Israa'eliif lolaa ture!
15 Ergasii Iyyaasuun Israa'eloota hunda wajjin qubata Gilgaal jiru sanatti deebi'e.

### *Mootonni Amoorotaa Shanan Ajjeefaman*

16 Mootonni shanan sun baqatanii holqa Maqeedaa keessatti dhokatanii turan.
17 Akka mootonni shanan holqa Maqeedaa keessatti dhokatan Iyyaasuutti himame;
18 innis akkana jedhe; "Dhagaa guddaa isaa afaan holqa sanaatti gangalchaatii akka
isaan eeganiif namoota achitti ramadaa. 19 Isin diinota keessan ari'aatii karaa dugda
duubaatiin rukutaa malee hin dhaabatinaa! Sababii WAAQAYYO Waaqni keessan
dabarsee harka keessanitti isaan kenneef akka isaan magaalaawwan isaanii seenan
hin godhinaa."
20 Kanaafuu Iyyaasuu fi Israa'eloonni hamma namni muraasni hafutti guutumaan
guutuutti isaan barbadeessan. Warri hafan immoo magaalaawwan isaanii kanneen
jajjabeeffamanii ijaaramanitti galan. 21 Loltoonni hundi nagumaan gara qubata
Maqeedaa gara Iyyaasuutti deebi'an; namni tokko iyyuu afaan isaa Israa'elootatti
hin bananne.
22 Iyyaasuunis, "Mee afaan holqa sanaa banaatii mootota shanan sana gad naa
baasaa" jedhe. 23 Isaanis mootota shanan sana jechuunis mootii Yerusaalem, mootii
Kebroon, mootii Yarmuut, mootii Laakkiishii fi mootii Egloon holqa keessaa baasanii
fidan. 24 Yommuu isaan mootota kana shanan Iyyaasuutti fidan, inni namoota Israa'el
hunda walitti waamee ajajjoota loltootaa kanneen isa wajjin dhufaniin, "Kottaatii
miilla keessaniin morma mootota kanneenii irra ejjadhaa" jedhe. Isaanis gara fuula
duraatti ba'anii miilla isaaniitiin morma mootota sanaa irra ejjetan.

25 Iyyaasuun, “Hin sodaatinaa; abdiis hin kutatinaa. Jabaadhaa; cimaas. Wanni
WAAQAYYO diinota isin loluuf deemtan hunda irratti godhuuf jirus kanuma” jedheen.
26 Iyyaasuun ergasii mootota sana dha’ee ajjeesee mukkeen shan irratti isaan fannise;
isaanis hamma lafti galgalooftutti akkuma muka irratti fannifamanitti turan.
27 Yeroo aduun dhiitetti Iyyaasuun ajaja kenne; jarris mukkeen irraa gad isaan
buusanii holqa isaan keessa dhokatanii turan sanatti isaan daddarbatan. Afaan holqa
sanaa irras dhagaa gurguddaa hamma guyyaa har’aatti illee achuma jiru naqan.
28 Iyyaasuunis guyyuma sana Maqeedaa qabate. Innis magaalaa sanaa fi mootii
ishee goraadeedhaan dha’ee nama achi keessa jiru hunda fixe. Nama tokko iyyuu
hin hambifne. Mootii Maqeedaas akkuma mootii Yerikoo godhe sana godhe.

### *Magaalaawwan Kibbaa Qabaman*

29 Iyyaasuu fi Israa’eloonni isa wajjin turan hundi Maqeedaadhaa ba’anii dhaqanii
Libnaa lolan. 30 WAAQAYYOS magaalaa sanaa fi mootii ishee dabarsee harka
Israa’elootaatti kenne. Iyyaasuun magaalattii fi nama ishee keessa jiru hunda
goraadeedhaan fixe. Inni nama tokko illee achitti hin hambifne. Mootii ishee illee
akkuma mootii Yerikoo godhe sana godhe.
31 Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundi isa wajjin Libnaadhaa ka’anii Laakkiish dhaqan;
isaanis magaalaa sana marsanii waraanan. 32 WAAQAYYOS Laakkiish dabarsee harka
Israa’elootaatti kenne; Iyyaasuunis guyyaa lammaffaatti ishee qabate. Akkuma Lib-
naa godhe sana magaalaa sanaa fi warra ishee keessa jiraatan hunda goraadeedhaan
fixe. 33 Yeroo sanatti Hooraam mootichi Geezir, Laakkiish gargaaruudhaaf dhufee
ture; Iyyaasuun garuu isaa fi loltoota isaa ni mo’ate; namni tokko iyyuu hin hafne.
34 Ergasiis Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundi Laakkiishii ka’anii gara Egloon dhaqan;
marsaniis ishee waraanan. 35 Guyyuma sana ishee qabatanii akkuma Laakkiish
godhan sana ishee fi nama ishee keessa jiru hunda goraadeedhaan fixan.
36 Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundis isa wajjin Egloonii ka’anii gara Kebroonitti
ol ba’anii ishee waraanan. 37 Isaanis magaalattii qabatanii mootii ishee, gandoota
isheetii fi nama ishee keessa jiru hunda goraadeedhaan fixan. Nama tokko iyyuu
hin hambifne. Akkuma Egloon godhan sana ishee fi nama ishee keessa jiru hunda
guutumaan guutuutti barbadeessan.
38 Ergasiis Iyyaasuu fi Israa’eloonni hundi isa wajjin of irra deebi’anii Debiirin
dha’an. 39 Isaanis magaalattii, mootii isheetii fi gandoota ishee qabatanii goraadeed-
haan fixan. Namoota ishee keessa jiraatan hundas guutumaan guutuutti fixan. Nama
tokko iyyuu hin hambifne. Akkuma Libnaa, mootii isheetii fi Kebroon godhan sana
Debiirii fi mootii ishee godhan.
40 Iyyaasuunis akkasiin guutummaa biyya sanaa, biyya gaaraa, Negeebi, biyya
gammoojjii, tabbawwan tulluutii fi mootota isaanii hundas mo’ate. Inni akkuma
WAAQAYYO Waaqni Israa’el ajajetti waan hafuura baafatu hunda guutumaan guutuutti
balleesse malee nama tokko illee hin hambifne. 41 Iyyaasuun Qaadesh Barnee irraa
jalqabee hamma Gaazaatti, guutummaa biyya Gooshen hamma Gibe’oonitti qabate.
42 Sababii WAAQAYYO Waaqni Israa’el Israa’eliif loleef Iyyaasuun mootota kanneenii
fi lafa isaanii loluma tokkoon mo’ate.
43 Ergasii Iyyaasuun Israa’eloota hunda wajjin gara qubata Gilgaalitti deebi’e.

## 11

### *Mootonni Kaabaa Mo’ataman*

1 Yaabiin mootichi Haazoor waan kana dhageenyaan Yoobaab mooticha
Maadoonitti, mootota Shimroonii fi Akshaafitti ergaa ergate; 2 akkasumas mootota
kaabaa kanneen tulluuwwan irra jiraatanitti, kanneen gama kibba Kinereetiin

Arabbaa keessa jiraatanitti, kanneen gama dhi’a biiftuutiin lafa gammoojjiitii fi
Door keessa jiraatanitti ergaa ergate; 3 Kana’aanota gama ba’a biiftuutii fi lixa
biiftuutiin jiraatanitti, Amoorotatti, Heetotatti, Feerzotaatti Yebuusota biyya gaaraa
keessa jiraatanittii fi mootota Hiiwotaa kanneen Gaara Hermoon jala biyya Miisphaa
keessa jiraatanitti ergaa ergate. 4 Isaanis tuuta loltoota isaanii hunda, fardeenii fi
gaariiwwan lolaa baay’ee jechuunis humna waraanaa guddaa kan akka cirracha
qarqara galaanaa baay’atu qabatanii dhufan. 5 Mootonni kunneen hundi loltoota
isaanii walitti makatanii Israa’eloota waraanuuf Bishaanota Meeroon cina qubatan.

6 WAAQAYYO Iyyaasuudhaan akkana jedhe; “Sababii ani bor yeroo kanatti reeffa
isaanii hunda dabarsee Israa’elootatti kennuuf hin sodaatin. Ati hidda kottee fardeen
isaanii kukkutee gaariiwwan isaaniis gubuu qabda.”

7 Kanaafuu Iyyaasuu fi loltoonni isaa hundi tasuma bishaan Meeroon biratti
isaanitti dhufanii isaan dha’an; 8 WAAQAYYOS dabarsee harka Israa’elootaatti isaan
kenne. Isaanis jara mo’atanii hamma Siidoonaa Guddootti, hamma Misrefooti
Maayimiitti, hamma Sulula Miisphaa kan gama ba’a biiftuutti isaan ari’an; hamma
namni hundi dhumuttis isaan dha’an. 9 Iyyaasuunis akkuma WAAQAYYO ajaje sana
isaan godhe; innis hidda kottee fardeen isaanii kukkutee gaariiwwan isaanii kan lolaa
gube.

10 Yeroo sanatti Iyyaasuun of irra deebi’ee Asoor qabatee mootii ishee goraadeed-
haan ajjeese. Haazooris magaalaa gudditti mootummoota kanneen hundumaa
turte. 11 Isaanis nama ishee keessa jiru hunda goraadeedhaan fixan. Waan hafuura
baafatu tokko illee utuu hin hambisin guutumaan guutuutti balleessan; Iyyaasuun
Haazoorinis ni gube.

12 Iyyaasuun magaalaawwan mootota hundaa fi mootota isaanii illee qabatee
goraadeedhaan fixe. Innis akkuma garbichi WAAQAYYOO Museen ajajetti guutumaan
guutuutti isaan balleesse. 13 Ta’us Israa’eloonni magaalaa Haazoor ishee Iyyaasuun
gube sana malee magaalaawwan tabba irratti ijaaraman tokko illee hin gubne.
14 Israa’eloonni boojuu fi horii magaalaa sanaa hunda ofii isaaniitiif fudhatan;
namoota hunda garuu guutumaan guutuutti goraadeedhaan fixan; nama hafuura
baafatu tokko illee hin hambifne. 15 Akkuma WAAQAYYO garbicha isaa Musee ajaje
sana Museenis akkasuma Iyyaasuu ajaje; Iyyaasuunis akkasuma godhe; inni waan
WAAQAYYO Musee ajaje keessaa waan tokko illee utuu hin hojjetin hin hambifne.

16 Iyyaasuun akkasiin guutummaa biyya sanaa qabate; kunis biyya gaaraa, Negeeb
hunda, guutummaa Gooshen, gammoojjii gama lixa aduu, Arabbaa fi gaarran Israa’el
gammoojjii isaanii wajjin, 17 Tulluu Halaaq kan gaara See’iiritti ol ka’uu jalqabanii
hamma Ba’aal Gaad kan Tulluu Hermoon jala hamma sulula Libaanoonitti jiru
booji’e. Innis mootota isaanii hunda gogorra’ee ajjeese. 18 Iyyaasuunis bara dheeraa
mootota kanneen hundatti waraana banaa ture. 19 Hiiwota Gibe’oon keessa jiraatan
malee magaalaan tokko iyyuu Israa’eloota wajjin walii galtee nagaa hin godhanne;
Israa’eloonni magaalaawwan hunda waraananii qabatan. 20 Akkuma WAAQAYYO
Musee ajaje sanatti gara laafina tokko malee isaan barbadeessuudhaan guutumaan
guutuutti isaan balleessuudhaaf jedhee akka isaan Israa’elootatti waraana bananiif
kan garaa isaanii jabeesse WAAQAYYO mataa isaa ti.

21 Iyyaasuun yeroo sanatti dhaqee biyya gaaraa keessaa jechuunis Kebroon, Debiirii
fi Aanaab, akkasumas biyya gaaraa Yihuudaatii fi biyya gaaraa Israa’el hunda keessaa
Anaaqota barbadeesse. Iyyaasuun isaanii fi magaalaawwan isaaniis guutumaan
guutuutti barbadeesse. 22 Gaazaa, Gaatii fi Ashdoodi malee kutaan biyya Israa’el
kan Anaaqonni keessatti hafan tokko iyyuu hin turre.

23 Kanaafuu Iyyaasuun akkuma WAAQAYYO Musee ajaje sanatti biyya guutuu qabatee akkuma mana gosa gosa isaaniitti dhaala godhee Israa'elootaaf kenne. Biyyattiinis akkasiin waraana irraa boqonnaa argatte.

# 12

*Maqaa Mootota Mo'atamanii*

1 Warri Kunneen mootota Israa'eloonni mo'atanii biyyoota isaanii jechuunis gama ba'a Arabbaa hunda dabalatee, ba'a Yordaanos, Sulula Arnooniitii hamma Tulluu Hermoonitti irraa fudhatanii dha:

2 Sihoon mootiin Amoorotaa,
Heshboon keessa taa'ee Aro'eer ishee qarqara sulula Arnoonitti argamtu sanaa jalqabee hamma Laga Yaaboq kana daarii Amoonotaatti bulchaa ture; kunis walakkaa Gili'aad dabalata.
3 Akkasumas ba'a Arabbaa Galaana Kinereetiitii jalqabee hamma Galaana Arabbaa yookaan Galaana Soogiddaatti, hamma Beet Yashiimootitti, achii immoo karaa Kibbaatiin hamma tabba Phisgaatti bulchaa ture.
4 Oogi mootichi Baashaan kan sanyii Refaayim keessaa isa dhumaa ta'e sun Ashtaarotii fi Edreyii bulchaa ture.
5 Innis Tulluu Hermoon, Salkaa, guutummaa Baashaan hamma Geshuurotaattii fi Ma'akaataatti, walakkaa Gili'aad immoo hamma daangaa Sihoon mooticha Heshboonitti bulchaa ture.

6 Museen garbichi WAAQAYYOOTII fi Israa'eloonni isaan mo'atan. Museen garbichi WAAQAYYOO biyya isaanii Ruubeenotaaf, gosa Gaadiitii fi walakkaa gosa Minaaseetiif dhaala godhee kenne.

7 Mootonni biyya Iyyaasuu fi Israa'eloonni Yordaanosiin gama lixa biiftuutti
mo'atanii kanneenii dha: biyyi isaaniis Ba'aal Gaad Sulula Libaanoon keessa jirtu
sanaa jalqabee hamma Tulluu Halaaq kan gara See'iir lafa Iyyaasuun akkuma
gosa gosa isaaniitti dhaala godhee Israa'elootaaf kenne sanaatti ol ka'uu dha.
8 Biyyoonni kunneenis biyya gaaraa, biyya karaa lixaa, Arabbaa, tabba tulluu, lafa
alootii fi Negeebi jechuunis biyyoota Heetotaa, Amoorotaa, Kana'aanotaa, Feerzotaa,
Hiiwotaatii fi Yebuusotaa ti.

Mootonnis kanneenii dha:

9 Mootii Yerikoo, tokko
mootii Aayi kan Beet'eel biraa, tokko
10 mootii Yerusaalem, tokko
mootii Kebroon, tokko
11 mootii Yarmuut, tokko
mootii Laakkiish, tokko
12 mootii Egloon, tokko
mootii Geezir, tokko
13 mooticha Debiir, tokko
mootii Gaadeer, tokko
14 mootii Hormaa, tokko
mootii Aaraad, tokko
15 mootii Libnaa, tokko
mootii Adulaam, tokko
16 mootii Maqeedaa, tokko

mootii Beet’eel, tokko
17 mootii Tafuu’aa, tokko
mootii Heefer, tokko
18 mootii Afeeq, tokko
mooticha Lashaaroon, tokko
19 mootii Maadoon, tokko
mootii Haazoor, tokko
20 mootii Shimroon Meroon, tokko
mootii Akshaaf, tokko
21 mootii Ta’anaak, tokko
mootii Megidoo, tokko
22 mootii Qaadesh, tokko
mootii Yoqeni’aam kan Qarmeloos jiraatu, tokko
23 mootii Door kan tabba Door irra jiraatu, tokko
mootii Gooyim kan Gilgaal keessaa jiraatu, tokko
24 mootii Tiirzaa, tokko.

Isaanis walumatti mootota soddomii tokko turan.

# 13

*Biyya Qabatamuuf Jiru*

1 WAAQAYYOS yeroo Iyyaasuun bara dheeraa jiraatee dulloometti akkana jedheen;
“Ati amma akka malee dulloomteerta; garuu amma iyyuu lafti dhaalamuu qabu
baay’eetu jira.

2 “Lafti hafe sunis kanaa dha:

“guutummaa biyya Filisxeemotaatii fi Geshuurotaa, 3 karaa ba’a Gibxiitiin laga Shihoorii hamma kaaba daarii Ashqaloonitti jiru hundi akka biyya Kana’aanotaatti hedama. Kunis biyya Awootaa kan kutaa biyyoota bulchitoota Filisxeemotaa shanan jechuunis

Gaazaa, Ashdood, Eqroon, Gitii fi Eqroon; 4 karaa kibbaatiin immoo guutummaa
biyya Kana’aanotaa, Me’aaraa Siidoonaatii hamma Afeeqiitti biyya Amoorotaa
5 kan biyya Gebaalotaa ti;
akkasumas karaa ba’aatiin guutummaa Libaanoon, Ba’aal Gaad kan Tulluu Hermoon jalaa hamma Leeboo Hamaatitti.

6 “Ani mataan koo jiraattota biyya gaaraa kanneen Libaanoonii hamma Misrefooti
Maayimiitti jiraatan jechuunis Siidoonota hunda fuula Israa’elootaa duraa ari’ee nan
baasa. Ati akkuma ani si ajajetti biyya kana akka dhaalaatti Israa’elootaaf hiri;
7 kanas gosoota sagallanii fi walakkaa gosa Minaaseetiif dhaala godhii hiri.”

*Biyyi Ba’a Yordaanos Hiramuu Isaa*

8 Walakkaan gosa Minaasee kaan, gosti Ruubeenii fi gosti Gaad biyya Yordaanosiin gama ba’aa kan Museen garbichi WAAQAYYOO isaaniif kennee ture sana akkuma inni isaaniif qoodetti fudhatan.

9 Biyyi sunis Aro’eer kan qarqara Sulula Arnooniitti, argamtuu fi magaalaa walakkaa sulula sanaa keessaatii jalqabee dirree Meedebaan dabalatee hamma
Diibooniitti diriira; 10 akkasumas magaalaawwan Sihoon mootii Amoorotaa kan
Heshboon bulchaa ture sanaa hunda dabalatee hamma daarii Amoonotaatti diriira ture.

11 Kana malees Gili’aad, biyya Geshuurotaatii fi Ma’akaatotaa, guutummaa Tulluu
Hermoonii fi guutummaa Baashaan hamma Salkaatti 12 jechuunis guutummaa
mootummaa Oogi kan Baashaan keessaa isa Ashtaarotii fi Edreyii bulchaa ture
kan sanyii Refaayimootaa keessaa isa dhumaa ta’e sanaatti diriira. Museenis
isaan mo’atee biyya isaanii fudhate. 13 Garuu sababii Israa’eloonni ari’anii isaan
hin baasiniif Geshuuronnii fi Ma’akaatonni hamma ammaatti Israa’eloota gidduu
jiraatu.

14 Gosa Lewwiitiif garuu inni dhaala tokko illee hin kennine; akkuma inni waadaa
isaaniif gale sanatti aarsaan ibiddaan WAAQAYYO Waaqa Israa’eliif dhi’eeffamu
dhaala isaaniitii.

15 Wanni Museen gosa Ruubeeniif, balbala balbalaan kenne kanaa dha:
16 Biyya Aro’eer kan qarqara Sulula Arnoon, magaalattii walakkaa sululaatii
jalqabee dirree Meedebaa bira jiru hunda 17 hamma Heshboonii fi maga-
alaawwan ishee kanneen dirree irra jiran hunda jechuunis Diiboon, Baamooti
Ba’aal, Beet Ba’aal Me’oon, 18 Yaahizaa, Qidemoot, Meefi’aat, 19 Kiriyaataayim,
Sibimaa, Zeret Shahari ishee gaara sululaa irratti argamtu, 20 Beet Phe’oor, tabba
Phisgaatii fi Beet Yashiimoot 21 jechuunis magaalaawwan dirree irraa hundumaa
fi guutummaa mootummaa Sihoon mooticha Amoorotaa kan Heshboon keessa
jiraatee bulchaa ture hundaa ti. Museenis Sihoonii fi bulchitoota Midiyaanotaa
kanneen Eewii, Reqem, Zuuri, Huurii fi Rebaa mo’ate; isaanis Sihooniin
walii galanii biyya sana keessa jiraachaa turan. 22 Israa’eloonni warra lola
keessatti ajjeefaman irratti dabalanii Bala’aam ilma Be’oor falfalticha sanas
goraadeedhaan ajjeesan.

23 Daangaan Ruubeenotaa qarqara laga Yordaanos ture. Magaalaawwan
kanneenii fi gandoonni isaanii akkuma balbala balbala isaaniitti dhaala
gosa Ruubeen.

24 Wanni Museen gosa Gaadiitiif balbala balbalaan kenne kanaa dha:
25 Daangaan isaaniis Ya’izeer, magaalaawwan Gili’aad hundumaa fi walakkaa biyya
Amoonotaa kan hamma Aro’eeritti diriiree gara ba’a Rabbaatti argamuu dha;
26 akkasuma Heshboonii jalqabee hamma Raamaatitti Miisphaa fi Betooniimitti,
Mahanayiimii jalqabee hamma daangaa Debiiritti diriiruu dha; 27 amma illee
sulula keessa, Beet Haaraam, Beet Niimraa, Sukooti, Zaafoonii fi biyya Sihoon
mootichi Heshboon bulchu kan gara ba’a Yordaanos kan hamma dhuma Galaana
Kinereetitti diriiree jiru sanaa dha.

28 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii akkuma balbala balbala
isaaniitti dhaala gosa Gaad.

29 Wanni Museen walakkaa gosa Minaaseetiif jechuunis walakkaa maatii
sanyii Minaaseetiif balbala balbalaan kenne kanaa dha:
30 Daangaa biyya Mahanayiimiitii jalqabee biyya Baashaan guutuu dabalatee
naannoo bulchiinsa Oogi mooticha Baashaan jechuunis qubata Yaa’iir kan
Baashaan keessaa magaalaa jaatama, 31 walakkaa biyya Gili’aad, Ashtaarotii fi
Edreyii, magaalaa Oogi mootichi Baashaan jiraatuutti diriira.

Kunis qooda sanyii Maakiiriif ilma Minaasee jechuunis walakkaa ilmaan
Maakiiriif balbala balbalaan kennamee dha.

32 Kun dhaala Museen yeroo Yordaanos gama jechuunis gama ba’a Yerikoo

dirree Mo’aab keessa ture sanatti qoodee dha. [33] Gosa Lewwiitiif garuu
Museen waan tokko illee hin kennine; akkuma inni waadaa isaaniif gale
sanatti WAAQAYYO Waaqni Israa’el dhaala isaanii ti.

## 14

*Biyyi Dhi’a Yordaanos Hiramuu Isaa*

[1] Lafti Israa’eloonni biyya Kana’aan keessatti akka dhaalaatti argatan kan
Ele’aazaar lubichi, Iyyaasuun ilmi Nuunitii fi hangafoonni balbala gosoota Israa’el
isaaniif qoodan kanaa dha. [2] Dhaalli isaanii kunis akkuma WAAQAYYO Musee ajajetti
ixaadhaan gosa sagalii fi walakkaa gosa tokkootiif kenname. [3] Museen karaa
ba’a Yordaanosiin gosoota lamaanii fi walakkaaf dhaala godhee kennee ture; gosa
Lewwiitiif garuu warra kaan gidduutti dhaala tokko illee hin kennine; [4] ilmaan
Yoosef gosa lama ta’anii turaniitii; isaanis Minaasee fi Efreem. Lewwonni garuu
magaalaawwan keessa jiraatan, bushaayee fi loon isaanii bobbaafatan malee qooda
lafaa tokko illee hin arganne. [5] Kanaafuu Israa’eloonni akkuma WAAQAYYO Musee
ajajetti biyya sana hiratan.

*Kebroon Kaalebiif Kennamte*

[6] Ergasiis namoonni Yihuudaa Gilgaalitti gara Iyyaasuu dhufan; Kaaleb ilmi Yefunee
namichi gosa Qeneez sun akkana jedheen; “Ati waan WAAQAYYO Qaadesh Barnee
keessatti waa’ee keetii fi waa’ee koo Musee nama Waaqaa sanatti dubbate ni
beekta. [7] Yeroo Museen garbichi WAAQAYYOO sun akka ani biyyattii basaasuuf
Qaadesh Barneetii na erge umuriin koo waggaa afurtama ture. Anis gabaasa
waan mirkaneeffadhe sanaa nan fideef; [8] obboloonni koo warri na wajjin achi
dhaqan garuu akka onneen sabaa sodaadhaan baqxu godhan. Ta’us ani garaa koo
guutuudhaan WAAQAYYO Waaqa koo duukaa bu’e. [9] Kanaafuu Museen gaafas akkana
jedhee naa kakate; ‘Sababii ati garaa kee guutuudhaan WAAQAYYO Waaqa koo duukaa
buuteef, lafti miilli kee tuqe sun hamma bara baraatti dhaala keetii fi dhaala ilmaan
keetii ta’a.’
[10] “Egaa WAAQAYYO akkuma waadaa gale sanatti, gaafa Museedhaan akkas jedhe
kan yeroo Israa’el gammoojjii keessa asii fi achi jooraa turee jalqabee waggaa
afurtamii shan na jiraachiseera. Kanaafuu ani har’a kunoo waggaa saddeettamii
shan guuteera! [11] Ani har’as akkuma gaafa Museen na erge sanaa jabaa dha; ani
akkuman dur ture sana amma iyyuu duula dhaquuf jabaa dha. [12] Egaa amma biyya
gaaraa kan WAAQAYYO gaafa sana waadaa naa gale kana naa kenni. Ati mataan kee
iyyuu akka Anaaqonni achi keessa jiraatan, akka magaalaawwan isaanii gurguddaa
ta’anii fi dallaa jabaan marfaman gaafas dhageesseerta; yoo WAAQAYYO na gargaare
garuu ani akkuma Waaqayyo jedhe sanatti ari’ee isaan baasa.”
[13] Iyyaasuunis Kaaleb ilma Yefunee eebbisee Kebroonin dhaala godhee kenneef.
[14] Kanaafuu sababii inni garaa isaa guutuudhaan WAAQAYYO Waaqa Israa’el duukaa
bu’eef Kebroon hamma har’aatti iyyuu dhaala Kaaleb ilma Yefunee namicha gosa
Qeneez sanaa taatee hafte. [15] Kebroon duraan maqaa namicha Arbaaq jedhamu kan
Anaaqota hunda keessaa nama guddaa ture tokkootiin Kiriyaati Arbaaq jedhamtee
waamamaa turte.
Ergasiis biyyattiin waraana irraa boqotte.

## 15

*Qooda Gosa Yihuudaa*
*15:15-19 kwf – AbM 1:11-15*

1 Qoodni gosa Yihuudaatiif balbala balbalaan ramadame hamma daarii Edoomitti, qarqara kibbaatiin immoo hamma Gammoojjii Siinitti bal'ata.

2 Daariin isaanii karaa kibbaa galoo galaanaa qarqara kibba Galaana soogiddaattii
jalqabee 3 kibba Malkaa Aqrabiim qaxxaamuree gara Siin itti fufee hamma kibba
Qaadesh Barneetti deema. Ergasiis Hezroon darbee Adaaritti ol ba'ee gara
Qarqaatti gora. 4 Ergasii immoo achii ka'ee karaa Azimooniin darbee hamma
lafa goggogaa Gibxiitti dhufee galaana ga'ee dhaabata. Daariin isaanii kan gara
kibbaa kanaa dha.
5 Daariin gara ba'aas Galaana Soogiddaa ture; innis hamma dhuma laga Yordaanositti deema.
Daariin gara kaabaa immoo galoo galaanaa kan qarqara Yordaanosii jalqabee
6 gara Beet Hoglaatti ol ba'ee ergasii immoo karaa kaaba Beet Arabbaatiin gara
Dhagaa Boohan ilma Ruubeenitti deema. 7 Daariin sunis ergasii Sulula Aakoor
keessaa Debiiritti ol ba'ee gara Gilgaal gama kibba laga sanaatiin fuullee Malkaa
Adumiim sanaa kaabatti gora. Daariin kun ittuma fufee gara bishaanota Een
Shemesh darbee Een Roogeelitti gad ba'a. 8 Ergasiis karaa kibba tabba magaalaa
Yebuusotaatiin jechuunis Yerusaalemitiin ba'ee Sulula Ben Hinoom irraan darba.
Achiis ba'ee qarqara kaaba Sulula Refaayimitti fiixee tulluu gama lixa Sulula
Hinoom jirutti ol ba'e. 9 Daariin sun ammas fiixee gaaraa irraa ka'ee gara burqaa
bishaanota Neftoo'aatti qajeelee magaalaawwan Tulluu Efrooniin ba'ee gara
Ba'aalaatti jechuunis Kiriyaati Ye'aariimitti gad bu'e. 10 Ergasii Ba'aalaa irraa
Tulluu See'iiriitti gara lixaatti garagalee tabba kaaba Tulluu Yi'aariim jechuunis
Kesaaloon irra ba'ee itti fufuudhaan Beet Shemeshitti gad bu'ee Tiimnaahitti
darba. 11 Gara kaaba tabba Eqroonitti darbee Shikeroonitti goree Tulluu Ba'aalaa
irra qaxxaamuruudhaan hamma Yabni'eelitti deema. Daariin sunis galaana
ga'ee dhaabate.
12 Daariin gara lixaa immoo qarqara Galaana Guddaa ti.

Daariiwwan akkuma balbala gosa isaaniitti saba Yihuudaa marsanis kanneenii dha.

13 Iyyaasuun akkuma Waaqayyo isa ajajetti, qooda Yihuudaa irraa kutee Kebroon
biyya Kiriyaati Arbaaq jedhamtu sana Kaaleb ilma Yefuneetiif kenne. Arbaaq kunis
abbaa Anaaq. 14 Kaalebis ilmaan Anaaq sadan jechuunis Sheeshaayiin, Ahiimanii
fi Talmaayi sanyii Anaaq ari'ee achii baase. 15 Achiis namoota biyya Debiir ishee
dur Kiriyaati Seefer jedhamaa turte sana keessa jiraatanitti duule. 16 Kaalebis, "Ani
nama Kiriyaati Seefer lolee qabatutti intala koo Aaksaa nan heerumsiisa" jedhe.
17 Obboleessi Kaaleb, Otnii'eel ilmi Qenaz magaalattii qabate; Kaalebis intala isaa
Aaksaa isatti heerumsiise.
18 Isheenis yeroo gara Otnii'eel dhuftetti akka inni abbaa ishee lafa qotiisaa kadhatu
isa kakaafte. Kaalebis yommuu isheen harree ishee irraa buutetti, "Ani maal siif
godhu?" jedhee ishee gaafate.
19 Isheenis deebiftee, "Waan addaa tokko naa godhi. Akkuma Negeeb keessatti lafa
naa kennite sana burqaawwan bishaaniis naa kenni" jetteen. Kaalebis burqaawwan
oliitii fi gadii kenneef.

20 Dhaalli gosti Yihuudaa balbala balbalaan argate kunoo kana:

21 Negeeb keessaa magaalaawwan gosa Yihuudaa kanneen qarqara kibbaatti daarii Edoom irratti argaman kanneenii dha:

Qabzi'eel, Eederi, Yaaguur, 22 Qiinaa, Diimonaa, Adi'aadaa, 23 Qaadesh, Haazoor,
Yitinaan, 24 Ziif, Telem, Ba'aalooti, 25 Haazoor Hadaataa, Keriiyooti kan Hezroon
jedhamtu sana, 26 Amaam, Shemaa, Molaadaa, 27 Hazar Gadaa, Heshmoon, Beet
Phelexi, 28 Hazar Shuu'aal, Bersheebaa, Biziyootiyaa, 29 Ba'aalaa, Iyyiim, Ezem,
30 Eltolaad, Kisiil, Hormaa, 31 Siiqlaag, Madmaanaa, Saansaanaa, 32 Lebaa'oot,
Shiiliihiim, Aayinii fi Rimoonii dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii
walumaa galatti digdamii sagal turan.

33 Karaa sulula lixa biiftuutiin immoo:
Eshitaa'ol, Zoraa, Ashinaa, 34 Zaano'aa, Een Ganiim, Tafuu'aa, Eenaami,
35 Yarmuuti, Adulaam, Sookoo, Azeeqaa, 36 Sha'arayiim, Aaditaayim, Gedeeraa
fi Gedeerootaayimii dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii kudha afur
turan.

37 Zenaan, Hadaashaa, Migdaal Gaad, 38 Dili'aan, Miisphaa, Yoqti'eel, 39 Laakkiish,
Boozqaati, Egloon, 40 Kaboon, Lahimaas, Kiitiliish, 41 Gedeerooti, Beet Daagon,
Na'amaa fi Maqeedaa dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii kudha ja'a
turan.

42 Libnaa, Eteeri, Ashaan, 43 Yiftaa, Ashinaa, Neziibi, 44 Qeyiilaa, Akziibii fi
Maareeshaa dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii sagal turan.

45 Eqroon, qubatawwanii fi gandoota naannoo ishee jiran wajjin, 46 akkasumas
karaa lixa Eqrooniitiin qubatawwanii fi gandoota isaanii kanneen naannoo
Ashdood jiran hunda, 47 Ashdood, magaalaa isheetii fi gandoota ishee, Gaazaa,
magaalaa isheetii fi gandoota ishee kanneen hamma Laga Gibxii fi hamma
qarqara Galaana Guddichaatti jiranii dha.

48 Biyya gaaraa keessatti immoo:
Shaamiir, Yatiir, Sookoo, 49 Danaa, Kiriyaati Sanaa jechuunis Debiir, 50 Aanaab,
Eshitmo'aa, Aaniim, 51 Gooshen, hooloonii fi Giiloo dha; magaalaawwanii fi
gandoonni isaanii kudha tokko turan.

52 Araab, Duumaa, Eshi'aan, 53 Yaanuum, Beet Tafuu'aa, Afeeqaa, 54 Humtaa,
Kebroon ishee Kiriyaati Arbaaq jedhamtuu fi Zii'oorii dha; magaalaawwanii
fi gandoonni isaanii sagal turan.

55 Maa'oon, Qarmeloos, Ziif, Yutaa, 56 Yizri'eel, Yooqidi'aam, Zaano'aa, 57 Qaayin,
Gibe'aa fi Tiimnaahii dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii kudhan turan.

58 Halhuul, Beet Zuuri, Gedoor, 59 Ma'aaraati, Beet Anootii fi Elteqoonii dha;
magaalaawwanii fi gandoonni isaanii ja'a turan.

60 Kiriyaati Ba'aal kan Kiriyaati Ye'aariim jedhamtuu fi Raabbaa dha; maga-
alaawwanii fi gandoonni ishee lama turan.

61 Gammoojjii keessatti immoo:
Beet Arabbaa, Midiin, Sekaakaa, 62 Niibishaan, Magaalaa Soogiddaatii fi Een
Gaadii dha; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii ja'a turan.

63 Sabni Yihuudaa garuu Yebuusota Yerusaalem keessa jiraachaa turan sana
ari'anii baasuu hin dandeenye; Yebuusonnis hamma har'aatti saba Yihuudaa wajjin
Yerusaalem keessa jiraatu.

# 16

*Qooda Gosa Efreemii fi Gosa Minaasee*

1 Qoodni Yoosef Yordaanos Yerikoo biratti argamtu, karaa ba'a bishaanota Yerikootii
ka'ee gammoojjii keessa qaxxaamuree biyya gaaraa Beet'eelitti ol ba'a. 2 Luuzi
ishee Beet'eel jedhamtu sanaa ka'ee gara biyya Arkaawotaa kan Axaaroti

keessatti argamtu sanaatti ce’a. 3 Achii immoo gara lixaa biyya Yafleexotaatti
gad bu’ee Beet Horoon ga’ee gara Geezir itti fufee galaanicha ga’ee dhaabata.

4 Akkasitti Minaasee fi Efreem, ilmaan Yoosef dhaala isaanii argatan.

5 Qoodni gosti Efreem balbala balbalaan argatte kunoo kana:

Daariin dhaala isaanii gara ba’aatiin Axaaroti Adaarii ka’ee hamma Beet Horoon
gara Ol aanuutti deemee 6 hamma galaanaatti itti fufa. Karaa kaabaatiin
Mikmetaatii ka’ee karaa ba’aatiin gara Taanaat Shiiloo goree achiin darbee
ba’a Yaano’aatti qajeela. 7 Ergasii immoo Yaano’aadhaa ka’ee Axaarotii fi
Na’araatti gad bu’ee Yerikoo irra naanna’ee Yordaanositti gad ba’a. 8 Daariin
sun Tafuu’aadhaa ka’ee gama Lixaatiin Laga Qaanaatti gad bu’ee galaana ga’ee
dhaabata. Dhaalli gosti Efreem balbala balbalaan argatte kanaa dha.
9 Daariin kun magaalaawwanii fi olloota isaanii kanneen dhaala gosa Minaasee
keessatti gosa Efreemiif hambifaman hundas ni dabalata.

10 Isaan Kana’aanota Geezir keessa jiraachaa turan sana ari’anii achii hin baafne ture; hamma har’aatti Kana’aanonni saba Efreem gidduu jiraatu; garuu akka hojii humnaa hojjetan dirqamu.

# 17

1 Gosti Minaasees qooda argatte; inni ilma Yoosef hangafa tureetii. Maakiir
ilmi Minaasee hangaftichi abbaan Gili’aadotaa sun sababii loltuu jabaa ta’eef
Gili’aadii fi Baashaan isaaf kennaman. 2 Kanaafuu qoodni kun saba Minaasee
warra hafaniif jechuunis balbala Abii’ezer, Heleq, Asrii’eel, Sheekem, Heeferii fi Shemiidaaf kenname. Kunneenis balbala balbala isaaniitiin ilmaan Minaasee ilma Yoosef kanneen biraa ti.

3 Zelofehaad ilmi Heefer, ilmi Gili’aad, ilma Maakiir, ilmi Minaasee sun intallan
malee ilmaan hin qabu ture. Maqaan intallan isaas Mahilaa, Nohii, Hoglaa,
Miilkaa fi Tiirzaa. 4 Isaanis gara Ele’aazaar lubichaa, gara Iyyaasuu ilma Nuunitii fi gara hooggantootaa dhaqanii “WAAQAYYO akka inni obboloota keenya gidduutti dhaala nuu kennuuf Musee ajajeera” jedhan. Kanaafuu Iyyaasuun akkuma ajaja
WAAQAYYOOTTI obboloota abbaa isaanii wajjin dhaala kenneef. 5 Minaaseen Gili’aadii
fi Baashaan keessaa gama ba’a Yordaanositti lafa iddoo kudhanitti hiramu qaba ture.
6 Kunis sababii intallan gosa Minaasee sun ilmaan dhiiraa gidduutti qooda argataniif.
Lafti Gili’aad ilmaan Minaasee kanneen hafaniif kennamte.

7 Daangaan gosa Minaasee Aasheerii ka’ee hamma Mikmetaati kan karaa ba’a Sheekem jirtu sanaatti bal’ata. Daangaan sunis achii ka’ee kibbaan gad bu’ee
saba Een Tafuu’aa keessa jiraatus dabalata. 8 Biyyi Tafuu’aa kan Minaasee turte;
Tafuu’aan mataan ishee garuu karaa daangaa Minaaseetiin kan ilmaan Efreem
turte. 9 Daangaan sun karaa kibbaatiin ittuma fufee Laga Qaanaa bira ga’a.
Magaalaawwan Efreem kanneen magaalaawwan Minaasee gidduutti argamanitu ture; daangaan Minaasee garuu Kaaba lagichaa irra darbee galaana bira ga’ee
dhaabata. 10 Biyyi sun karaa kibbaatiin kan gosa Efreemiiti; karaa kaabaatiin
immoo kan gosa Minaasee ti. Biyyi Minaasee hamma galaanaatti deemee karaa kaabaatiin Aasheerin, karaa ba’aatiin immoo Yisaakorin daangeessa.

11 Minaaseenis Yisaakorii fi Aasheer keessaa Beet She'aan, Yible'aamii fi saba Door,
Eendoor, Ta'anaakii fi Megidoo qubatawwan naannoo isaanii jiran wajjin qaba
ture; sadaffaan immoo Naafootii dha.

12 Ta'us sababii Kana'aanonni biyya sana jiraachuuf kutatanii turaniif gosti
Minaasee magaalaawwan kanneen qabachuu hin dandeenye. 13 Garuu Israa'eloonni
yommuu jabina argachaa dhufanitti akka isaan hojii humnaa hojjetan godhan malee
Kana'aanota achii hin baafne.
14 Namoonni Yoosefis Iyyaasuudhaan, "Ati maaliif ixaa tokkoo fi qooda tokko qofa
dhaala nuu kennite? Nu saba akka malee baay'ee fi saba WAAQAYYO guddisee eebbisee
dha" jedhan.
15 Iyyaasuunis, "Yoo isin akka malee baay'attanii biyyi gaaraa Efreem kun isinitti
dhiphatte bosona seenaatii biyya Feerzotaatii fi Refaayimootaa keessatti iddoo
jireenyaa qopheeffadhaa" jedhee deebiseef.
16 Namoonni Yoosefis, "Biyyi gaaraa kun nu hin ga'u; Kana'aanonni lafa diriiraa
irra jiraatan hundi, warri Beet She'aanii fi qubatawwan ishee akkasumas warri
Sulula Yizri'eel keessa jiraatan hundi gaariiwwan sibiilaa qaban" jedhanii deebisan.
17 Iyyaasuun garuu mana Yoosefiin jechuunis Efreemii fi Minaaseedhaan akkana
jedhe; "Isin saba akka malee baay'ee kan humna guddaa qabuu dha. Ixaa tokko
qofa hin qabaattan. 18 Biyya gaaraa kan bosonaa garuu ni qabaattu; bosona ciraa;
biyyattiinis hamma qarqara daangaa isheetti kanuma keessan taati; Kana'aanonni
yoo gaariiwwan sibiilaa qabaatanii jajjaboo ta'anis isin ariitanii isaan baasuu
dandeessu."

# 18

*Biyyi Hafte Qoodamuu Ishee*
1 Guutummaan waldaa Israa'el Shiilootti walitti qabamee dunkaana wal ga'ii achitti
dhaabate. Biyyattiin harka isaanii jala galte; 2 ta'us amma illee gosoonni Israa'el torba
dhaala isaanii hin fudhanne ture.
3 Kanaafuu Iyyaasuun Israa'elootaan akkana jedhe; "Isin utuu biyya WAAQAYYO
Waaqni abbootii keessanii isinii kenne kana hin fudhatin hamma yoomiitti turtu?
4 Tokkoo tokkoo gosaa keessaa nama sadii sadii kennadhaa. Anis akka isaan biyya
sana ilaalanii akkuma dhaala gosa hundaatti waa'ee ishee barreessaniif isaan nan
erga. Isaanis ergasii gara kootti deebi'u. 5 Isin biyya sana iddoo torbatti qoodu
qabdu. Yihuudaan biyya karaa Kibbaa keessatti hafee manni Yoosef immoo biyya
karaa kaabaatti hafuu qaba. 6 Isin erga waa'ee biyya iddoo torbatti qoodamte sanaa
barreessitanii booddee gabaasa natti fidaa; anis fuula WAAQAYYO Waaqa keenyaa
duratti ixaa isinii buusa. 7 Gosti Lewwii garuu gidduu keessanitti qooda lafaa hin
argatu; sababiin isaas tajaajilli lubummaa kan isaan WAAQAYYOOF kennan sun dhaala
isaanii ti. Gosti Gaad, kan Ruubeenii fi walakkaan gosa Minaasee duraanuu karaa
ba'a Yordaanosiin qooda isaanii argatanii jiru. Museen garbichi WAAQAYYOO sun
isaaniif kennee ture."
8 Kanaafuu jarri karaa isaanii qabatanii qajeelan; Iyyaasuunis warra haala biyyattii
barreessuu dhaqaniin akkana jedhe; "Dhaqaatii biyya sana sakatta'aatii waa'ee ishee
galmeessaa. Ergasii immoo gara koo kottaa; anis asuma Shiilootti fuula WAAQAYYOO
duratti ixaa isiniif nan buusa." 9 Kanaafuu namoonni sun ka'anii biyya sana keessa
dedeemanii waa'ee haala ishees magaalaa magaalaadhaan iddoo torbatti qoodanii
kitaaba maramaa irratti barreessanii qubata Shiilootti gara Iyyaasuutti deebi'an.

10 Iyyaasuun ergasii Shiiloo keessatti fuula WAAQAYYOO duratti ixaa buuseef;
akkuma qooda gosa isaaniittis Israa'elootaaf biyyattii hire.

*Qooda Beniyaam*

11 Ixaan jalqabaa akkuma balbala balbala isaaniitti gosa Beniyaamiif ba'e. Biyyi isaan ixaadhaan argatanis gosa Yihuudaatii fi gosa Yoosef gidduutti argama.

12 Karaa kaabaatiin daariin isaanii Yordaanosii ka'ee kaaba tabba Yerikoo
irra darbuudhaan karaa lixaatiin biyya gaaraatti gad bu'ee gammoojjii Beet
Aawweniitiin ba'a. 13 Achii ka'ee kibba tabba Luuzitti jechuunis Beet'eelitti
darbee gara Axaaroti Adaar kan gaara kibba Beet Horoon isa gadii sanaatti gad
bu'a.

14 Daariin sunis karaa kibbaatiin gaara Beet Horoonitti garagalee jiru sanaa ka'ee karaa lixaatiin gara kibbaatti goree magaalaa ilmaan Yihuudaa kan Kiriyaati Ba'aal jechuunis Kiriyaati Ye'aariim ga'a. Kunis daangaa lixaa ti.

15 Daangaan kibbaa karaa lixaatiin qarqara Kiriyaati Ye'aariimiitii jalqaba; daan-
gaan isaa immoo gara bishaan Neftoo'aatti gad bu'a. 16 Daangaan sunis karaa
kaaba Sulula Refaayimiitiin gara gaara Sulula Ben Hinoomitti garagalutti gad
bu'a. Innis tabba kibba magaalaa Yebuusotaa biraan gara Sulula Hinoomitti itti
fufee gara Een Roogeelitti gad bu'a. 17 Ergasii gara kaabaatti goree Een Shemesh
dhaqa; achii ka'ees gara Geliiloot kan Malkaa Adumiimitti gara galtee jirtu sanaa
itti fufee hamma Dhagaa Boohan ilma Ruubeen sanaatti gad bu'a. 18 Ammas
gara tabba kaaba Arabbaatti itti fufee gara Arabbaatti gad bu'a. 19 Ergasii tabba
kaaba Beet Hoglaatti qajeelee karaa kaaba galoo Galaana Soogiddaa kan karaa
kibbaatiin afaan Yordaanositti argamtuutiin ba'a. Kun daarii karaa kibbaa ti.

20 Lagni Yordaanosis karaa ba'aatiin daarii ta'a.

Isaan kunneen daariiwwan dhaala ilmaan Beniyaamiitiif karaa hundaan dhaabamanii dha.

21 Magaalaawwan gosti Beniyaam akkuma maatii maatii isaaniitti argatan kanneenii dha:

Yerikoo, Beet Hoglaa, Eemeqi Qaziizi, 22 Beet Arabbaa, Zemaaraayim, Beet'eel,
23 Aawiim, Faaraa, Ofraa, 24 Kefar Aamoonaay, Ofnii fi Gebaa dha; maga-
alaawwanii fi gandoonni isaanii kudha lama turan.

25 Gibe'oon, Raamaa, Bi'eerooti, 26 Miisphaa, Kefiiraa, Moozaa, 27 Reqem, Yirphi'eel,
Taraalaa, 28 Zeelaa, Haa'elef, magaalaa Yebuusotaa jechuunis Yerusaalem,

Gibe'aa fi Qiiriyaati; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii kudha afur turan. Dhaalli gosti Beniyaam balbala balbalaan argate kana ture.

# 19

*Qooda Gosa Simi'oon*

*19:2-10 kwf – 1Sn 4:28-33*

1 Ixaan lammaffaan gosa Simi'ooniif balbala balbalaan ba'e. Dhaalli isaaniis
dhaala gosa Yihuudaa keessatti argama. 2 Kunis:

Bersheebaa yookaan Shebaa, Molaadaa, 3 Hazar Shuu'aal, Baalaa, Ezem, 4 Eltolaad,
Betuul, Hormaa, 5 Siiqlaag, Beet Markaabot, Hazar Suusaa, 6 Beet Lebaa'otii fi
Shaaruheen; magaalaawwanii fi gandoonni isaanii kudha sadii turan;

7 Ayin, Rimoon, Eteerii fi Ashaan, magaalaawwanii fi gandoota isaanii afran,
8 akkasumas gandoota naannoo magaalaawwan kanneenii jiran kanneen hamma

Baa'ilaat Bi'eeritti jechuunis hamma Raamaat ishee Negeeb keessaa sanaatti bal'ata. Dhaalli gosti Simi'oon balbala balbalaan argate kanaa dha.
9 Sababii qoodni gosa Yihuudaa hamma isaan barbaadanii ol ta'eef dhaalli

gosa Simi'oon kun qooda gosa Yihuudaa irraa fudhatame. Kanaafuu gosti
Simi'oon Yihuudaa keessatti dhaala argate.

### *Qooda Gosa Zebuuloon*

10 Ixaan sadaffaan gosa Zebuulooniif balbala balbalaan ba'e; kunis:
Daariin dhaala isaanii hamma Saariiditti deema. 11 Achiis karaa lixaatiin gara
Mare'aalaatti gad bu'ee Dabesheetitti riiqatee hamma laga Yoqeni'aam dura jiru
sanaatti deema. 12 Ergasiis Saariid irraa gara Kisloti Taaboor biyya ba'a biiftuutti
argamtu sanaatti gara ba'aatti goree Daaberaatitti qajeelee hamma Yaafiiyaatti
deema. 13 Achiis karaa ba'aatiin itti fufee Gat Heeferii fi Eetqaaxin dhaqa;
Rimooniin gad ba'ee gara Ne'aahitti gora. 14 Daariin sunis karaa kaabaatiin gara
Hanaatoonitti goree Sulula Yiftaa Eelitti dhuma.
15 Kanneen irrattis Qaataat, Naahaalal, Shimroon, Yidalaa fi Beetlihem dabalamani-
iru. Isaaniis gandoota isaanii wajjin magaalaawwan kudha lama turan.
16 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii dhaala gosti Zebuuloon
balbala balbalaan argatee dha.

### *Qooda Yisaakor*

17 Ixaan afuraffaan gosa Yisaakoriif balbala balbalaan ba'e. 18 Biyyi isaaniis:
Yizri'eel, Kesuloot, Suunam, 19 Hafaarayim, Shii'oon, Anaaharat, 20 Rabiit, Kishoon,
Ebezi, 21 Remeet, Een Ganiim, Een Hadaa fi Beet Phaxeex.
22 Daariin isaanii Taaboor, Shahazumaa fi Beet Shemesh tuqee Yordaanos ga'ee
dhaabata.
Isaanis gandoota isaanii wajjin magaalaawwan kudha ja'a turan.
23 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii dhaala gosti Yisaakor
balbala balbalaan argatee dha.

### *Qooda Gosa Aseer*

24 Ixaan shanaffaan gosa Aasheeriif balbala balbalaan ba'e. 25 Biyyi isaaniis:
Helqaat, Halii, Beten, Akshaaf, 26 Alaamelek, Amaadii fi Mishi'aal. Daangaan
sunis karaa lixaatiin Qarmeloosii fi Shiihoor Libnaat tuqa. 27 Ergasii karaa ba'a
biiftuutiin gara Beet Daagonitti goree Zebuuloonii fi Sulula Yiftaa Eelitti qabatee
Kaabuulin gara bitaatti dhiisee karaa kaabaatiin Beet Emeeqii fi Ne'ii'eelitti
qajeela. 28 Achiis ka'ee gara Eebroon, Rehoob, gara Hamoonii fi Qaanaatti ol ba'ee
hamma Siidoonaa Guddichaatti deema. 29 Daangaan sunis ergasii gara Raamaatti
goree magaalaa Xiiroos kan dallaa jabaa qabu sanaa dhaqee gara Hoosaatti goree
karaa Akziibiitiin galaana ga'ee dhaabata; 30 kunis biyya Umaa, biyya Afeeqiitii
fi Rehoob dabalata.
Isaanis gandoota isaanii wajjin magaalaawwan digdamii lama turan.
31 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii dhaala gosti Aasheer
balbala balbalaan argatee dha.

### *Qooda Gosa Niftaalem*

32 Ixaan ja'affaan gosa Niftaalemiif balbala balbalaan ba'e; kunis:
33 Daariin isaanii Heelefii fi muka guddaa Za'aanaaniim keessa jiru sanaa ka'ee
Adaamii Neqebii fi Yabni'eel irraan gara Laquumiitti qajeelee Yordaanos ga'ee
dhaabata. 34 Daariin sun Aznoot Taabooritti qajeelee gara lixaatti goruudhaan
Huuqooqi ga'ee dhaabata. Innis karaa kibbaatiin Zebuuloon, karaa lixatiin
Aasheer, karaa ba'aatiin immoo Yordaanos tuqa.
35 Magaalaawwan dallaa jabaa qaban kanneenii dha: Zidiimi, Zeeri, Hamaati,
Raqaati; Kinereeti, 36 Adaamaa, Raamaa, Haazoor, 37 Qaadesh, Edreyii, Een
Haxoor, 38 Yiroon, Migdaal Eel, Horeem, Beet Anaatii fi Beet Shemesh.

Isaanis gandoota isaanii wajjin magaalaawwan kudha sagal turan.
39 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii dhaala gosti Niftaalem balbala balbalaan argatee dha.

*Qooda Gosa Daan*

40 Ixaan torbaffaan gosa Daaniif balbala balbalaan ba'e. 41 Biyyi isaan Dhaalanis:
Zoraa, Eshitaa'ol, Iir Shemesh, 42 Sha'alabiin, Ayaaloon, Yitlaa, 43 Eeloon, Tiimnaahi,
Eqroon, 44 Elteqee, Gibetoon, Baa'ilaati, 45 Yihuud, Benee Beraaq, Gat Rimoon,
46 Meyaarqoonii fi Raqoon Yoopheetti garagalee argamu sanaa dha.
47 Ijoolleen Daan garuu sababii lafti dhaalan sun isaanitti dhiphatteef ol ba'anii Lesheemin waraananii qabatan; erga goraadeedhaan dha'anii booddee ishee dhuunfatan. Isaanis Lesheem keessa qubatanii Daan jedhanii maqaa abbaa isaaniitiin ishee moggaasan.
48 Magaalaawwan kunneenii fi gandoonni isaanii dhaala gosti Daan balbala balbalaan argatee dha.

*Qooda Iyyaasuu*

49 Israa'eloonnis erga biyyattii ixaadhaan qoodamte sana hiranii fixanii booddee
gidduu isaaniitti Iyyaasuu ilma Nuunitiif dhaala kennan; 50 dhaala kanas akkuma
WAAQAYYO ajajetti kennan. Isaanis magaalaa inni gaafatee kennaniif; magaalaan
sunis Timnaat Seeraa kan biyya gaaraa Efreemitti argamtuu dha. Innis magaalaa
sana ijaaree keessa jiraate.

51 Kunneen biyyoota Ele'aazaar lubichi, Iyyaasuun ilmi Nuunitii fi hangafoonni gosoota Israa'el Shiilootti fuula WAAQAYYOO duratti balbala dunkaana wal ga'ii irratti ixaadhaan kennanii dha. Isaanis akkasiin biyyattii qooduu xumuran.

# 20

*Magaalaawwan Itti Baqatan*
*20:1-9 kwi – Lak 35:9-34; KeD 4:41-43; 19:1-14*

1 Ergasii WAAQAYYO Iyyaasuudhaan akkana jedhe: 2 "Akkuma ani karaa Museetiin
isin ajaje sanatti akka Israa'eloonni magaalaawwan itti kooluu galan filatan itti
himi; 3 kunis akka namni tasuma yookaan utuu itti hin yaadin nama ajjeese kam
iyyuu itti kooluu galee nama haaloo dhiigaa baasu duraa ba'uuf. 4 Inni yommuu
magaalaawwan sana keessaa tokkotti kooluu galutti karra magaalattii irra dhaabatee
fuula maanguddoota magaalaa sanaa duratti dhimma isaa himachuu qaba. Isaanis
ergasii magaalaa isaaniitti isa simatanii akka inni isaan wajjin jiraatuuf iddoo
kennuufii qabu. 5 Yoo namni haaloo dhiigaa baasu isa duukaa bu'e illee, sababii
inni utuu itti hin yaadinii fi utuu duraan jibba wal irraa hin qabaatin nama ollaa
isaa ajjeeseef, isaan namicha sana dabarsanii kennuu hin qaban. 6 Inni hamma
fuula waldaa dura qorumsaaf dhaabatuttii fi hamma lubni ol aanaan yeroo sanatti
tajaajilaa ture du'utti magaalaadhuma sana keessa jiraachuu qaba. Ergasii inni mana
isaatti, gara magaalaa keessaa baqate sanaatti deebi'uu danda'a."
7 Kanaafuu isaan biyya gaaraa Niftaalem keessaa Qaadesh ishee Galiilaa keessaa
sana, biyya gaaraa Efreem keessaa Sheekem, biyya gaaraa Yihuudaa keessaa immoo
Kiriyaati Arbaaq kan Kebroon jedhamtu sana filatan. 8 Yordaanos gamaa karaa lixa
Yerikootiin, biyya gosa Ruubeen keessaa Bezer ishee gammoojjii diriiraa keessaa
sana, biyya gosa Gaad keessaa Raamooti ishee Gili'aad keessatti argamtu, biyya gosa
Minaasee keessaa immoo Goolaan ishee Baashaan keessatti argamtu sana filatan.

9 Magaalaawwan akka namni tasa nama ajjeese kam iyyuu itti baqatuuf Israa'eloota hundaa fi alagoota gidduu isaanii jiraataniif filataman kanneenii dha; kunis akka inni hamma harka waldaa jirutti namicha haaloo dhiigaa baasu sanaan hin ajjeefamneef.

# 21

*Magaalaawwan Lewwotaaf Kennaman*
*21:4-39 kwf – 1Sn 6:54-80*

1 Hangafoonni maatii Lewwotaa Ele'aazaar lubichatti, Iyyaasuu ilma Nuunittii
fi hangafoota maatiiwwan gosoota Israa'el kaanitti dhi'aatanii 2 Shiiloo Kana'aan
keessatti argamtu sana keessatti, "WAAQAYYO akka isin magaalaa nu keessa jiraannu lafa tikaa kan horii keenyaaf ta'u wajjin nuu kennitan karaa Museetiin ajajee ture" jedhaniin.

3 Kanaafuu Israa'eloonni akkuma WAAQAYYO ajajetti dhaala ofii isaanii keessaa magaalaawwan kanneenii fi lafa tikaa Lewwotaaf kennan.

4 Ixaan jalqabaa gosa Qohaatiif balbala balbalaan ba'e. Lewwota sanyii Aroon lubichaatiifis gosa Yihuudaa, gosa Simi'oonii fi gosa Beniyaam keessaa magaalaawwan kudha sadii ixaadhaan argatan.

5 Sanyii Qohaati warra hafaniif immoo balbala gosa Efreem, gosa Daanii fi walakkaa gosa Minaasee keessaa magaalaawwan kudhan ixaadhaan argatan.

6 Sanyiiwwan Geershooniif balbala gosa Yisaakor, gosa Aasheer, gosa Niftaalemii fi walakkaa gosa Minaasee kan Baashaan keessaa sana irraa magaalaawwan kudha sadii ixaadhaan argatan.

7 Sanyiiwwan Meraariis balbala balbalaan gosa Ruubeen, gosa Gaadii fi gosa Zebuuloon keessaa magaalaawwan kudha lama ixaadhaan argatan.

8 Kanaafuu Israa'eloonni akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin ajaje sanatti magaalaawwan kanneenii fi lafa tikaa ixaadhaan Lewwotaaf kennan.

9 Gosa Yihuudaa fi gosa Simi'oon irraa magaalaawwan kanneen maqaa maqaadhaan qoodan; 10 sababii ixaan jalqabaa isaaniif ba'eef magaalaawwan kunneen sanyiiwwan Aroon warra Lewwotaa keessaa balbala Qohaati ta'aniif kennaman:
11 Isaanis Kiriyaati Arbaaq jechuunis Kebroon ishee biyya gaaraa Yihuudaa keessaa sana lafa tikaa naannoo ishee wajjin kennaniif. Arbaaq abbaa Anaaq
ture. 12 Lafa qotiisaa fi gandoota naannoo magaalattii jiran garuu Kaaleb
ilma Yefuneetiif handhuuraa godhanii kennan. 13 Kanaafuu sanyiiwwan Aroon
lubichaatiif Kebroon jechuunis magaalaa namni nama ajjeesee himatamu
tokko itti baqatuu fi Libnaa, 14 Yatiir, Eshtimo'aa, 15 Hooloon, Debiir, 16 Aayin,
Yutaanii fi Beet Shemeshi lafa tikaa wajjin kennameef; isaan kunneen magaalaawwan sagallan gosoota lamaan irraa qoodamaniifii dha.
17 Gosa Beniyaam irraas
Gibe'oon, Gebaa'i, 18 Anaatootii fi Almoon lafa tikaa wajjin kennaniif; isaanis magaalaawwan afurii dha.

19 Magaalaawwan lafa tikaa wajjin sanyiiwwan Aroon kanneen luboota ta'aniif kennaman hundi kudha sadii turan.

20 Qohaatota balbala Lewwii warra hafaniif gosa Efreem irraa magaalaawwan kanneentu ixaadhaan argatan:
21 Isaanis biyya gaaraa Efreem keessaa Sheekem jechuunis

magaalaa namni nama ajjeesee himatamu itti baqatu sanaa fi Geezir,
22 Qibxaayimii fi Beet Horoon, walumatti magaalaawwan afur lafa tikaa wajjin
fudhatan.
23 Akkasumas gosa Daan keessaa
Elteqee, Gibetoon, 24 Ayaaloonii fi Gat Rimoon, walumaa galatti magaalaawwan
afur lafa tikaa wajjin fudhatan.
25 Walakkaa gosa Minaasee keessaa immoo
Ta'anaakii fi Gat Rimoon, magaalaawwan lama lafa tikaa wajjin fudhatan.
26 Magaalaawwan kurnan kunneen hundii fi lafti tikaa isaanii balbala gosa
Qohaati warra hafaniif kennaman.

27 Geershoonota balbala Lewwiitiif immoo:
Walakkaa gosa Minaasee keessaa,
Goolaan ishee Baashaan keessaa jechuunis magaalaa namni nama ajjeesee
himatamu tokko itti baqatu sanaa fi Be'eshitiraa, magaalaawwan lamaa fi lafa
tikaa isaaniitu kennameef;
28 gosa Yisaakor keessaa
Kishoon, Daaberaati, 29 Yarmuutii fi Een Ganiim, magaalaawwan afurii fi lafa
tikaa isaaniitu kennameef;
30 gosa Aasheer keessaa
Mishi'aal, Abdoon, 31 Helqaatii fi Rehoob, magaalaawwan afurii fi lafa tikaa
isaaniitu kennameef;
32 gosa Niftaalem keessaa
Qaadesh ishee Galiilaa keessaa, magaalaan namni nama ajjeesee himatamu tokko
itti kooluu galuu akkasumas Hamoot Doorii fi Qartaan, magaalaawwan sadii
lafa tikaa isaanii wajjin kennameef.
33 Gosoota Geershoonotaatiif immoo magaalaawwan kudha sadiitu lafa tikaa
wajjin kenname.

34 Lewwota hafan warra balbala Meraarii ta'aniif:
gosa Zebuuloon keessaa,
Yoqeni'aam, Qartaa, 35 Dimnaa fi Naahaalal, magaalaawwan afurtu lafa tikaa
wajjin kenname;
36 gosa Ruubeen keessaa
Bezer, Yaahizaa, 37 Qidemootii fi Meefi'aat, magaalaawwan afur lafa tikaa wajjin
kennameef;
38 gosa Gaad keessaa immoo,
Raamooti ishee Gili'aad keessaa jechuunis magaalaa namni nama ajjeesee
himatamu tokko itti kooluu galu, Mahanayiim, 39 Heshboonii fi Ya'izeer,
walumaa galatti magaalaawwan afurtu lafa tikaa wajjin kennameef.
40 Lewwota hafan warra balbala Meraarii ta'aniif walumaa galatti maga-
alaawwan kudha lamatu ixaadhaan kenname.

41 Magaalaawwan Lewwotaa kanneen biyya Israa'eloonni dhuunfatan
keessatti argaman lafa tikaa wajjin walumaa galatti afurtamii saddeet
turan. 42 Tokkoon tokkoon magaalaawwan kanneenii naannoo isaaniitii
lafa tikaa qabu turan; magaalaawwan hundinuu akkanuma.

43 Kanaafuu Waaqayyo biyya abbootii isaaniitiif kennuuf kakate hunda saba
Israa'eliif kenne; isaanis biyya sana qabatanii achi jiraatan. 44 Waaqayyo akkuma
abbootii isaaniitiif kakate sana karaa hundaan boqonnaa isaanii kenne. Diinni isaanii

tokko iyyuu fuula isaanii dura dhaabachuu hin dandeenye; WAAQAYYO diinota isaanii
hunda dabarsee harka isaaniitti kenne. 45 Waadaa gaarii WAAQAYYO mana Israa’eliif
gale keessaa tokko iyyuu hin hafne; hundinuu guutameera.

# 22

*Gosoonni Gara Ba’a Biiftuu Biyyatti Deebi’an*

1 Ergasii Iyyaasuun gosa Ruubeen, gosa Gaadii fi walakkaa gosa Minaasee walitti
waamee 2 akkana jedheen; “Isin waan Museen garbichi WAAQAYYOO ajaje hundumaa
hojjettaniirtu; waan ani isin ajaje hundas naa ajajamtaniirtu. 3 Isin bara dheeraaf,
hamma har’aatti illee obboloota keessan hin daganne; ajaja WAAQAYYO Waaqni
keessan isinii kennes eegdaniirtu. 4 WAAQAYYO Waaqni keessan akkuma waadaa
gale sanatti obboloota keessan boqochiiseera; isin biyya Museen garbichi WAAQAYYOO
Yordaanos gamaa isinii kenne sanatti gara mana keessaniitti deebi’aa. 5 Garuu akka
WAAQAYYO Waaqa keessan jaallattaniif, akka karaa isaa hunda irra deemtaniif, akka
ajajawwan isaa eegdaniif, akka isatti maxxantanii fi akka garaa keessan guutuu
fi lubbuu keessan guutuudhaan isa tajaajiltaniif ajajaa fi seera Museen garbichi
WAAQAYYOO isinii kenne sana jabeessaa eegaa.”

6 Ergasiis Iyyaasuun eebbisee gad isaan dhiise; isaanis gara mana isaaniitti
deebi’an. 7 Museen walakkaa gosa Minaaseetiif Baashaan keessaa lafa kennee ture;
Iyyaasuun immoo walakkaa kaaniif Yordaanosiin gama lixaatti obboloota isaanii
cinatti lafa kenne. Iyyaasuun yommuu gara mana isaaniitti isaan ergetti isaan
eebbise; 8 akkanas jedheen; “Qabeenya keessan guddaa jechuunis horii baay’ee,
meetii, warqee, naasii fi sibiila akkasumas uffata baay’ee fudhadhaa galaatii boojuu
diinota keessan irraa boojitan sana obboloota keessan wajjin qooddadhaa.”

9 Kanaafuu gosti Ruubeen, gosti Gaadii fi walakkaan gosa Minaasee gara biyya
ofii isaanii gara Gili’aad ishee akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin ajajetti argatan
sanaatti deebi’uuf jedhanii Shiiloo ishee Kana’aan keessaa sanatti Israa’eloota
dhiisanii deeman.

10 Gosti Ruubeen, gostii Gaadii fi walakkaan gosa Minaasee yommuu Galiilooti
biyya Kana’aan keessaa kan Yordaanos biraa sana ga’anitti, iddoo aarsaa guddaa isaa
Yordaanos biratti tolchan. 11 Israa’eloonni yommuu akka isaan gama Israa’elootaatiin
daarii Kana’aan irratti Galiilooti ishee Yordaanos cinaa sanatti iddoo aarsaa tolchan
dhaga’anitti, 12 guutummaan waldaa Israa’el isaanitti duuluuf Shiilootti walitti
qabaman.

13 Kanaafuu Israa’eloonni Fiinehaas ilma Ele’aazaar lubichaa sana gara gosa
Ruubeen, gosa Gaadii fi gara walakkaa gosa Minaasee warra Gili’aad keessa
jiraatanitti ergan. 14 Isa wajjinis hangafoota kudhan, tokkoo tokkoo gosa Israa’eliif
nama tokko ergan; tokkoon tokkoon isaaniis hangafa balbala maatii Israa’el.

15 Isaanis Gili’aaditti gosa Ruubeen, gosa Gaadii fi walakkaa gosa Minaasee bira
dhufanii akkana isaaniin jedhan: 16 “Guutummaan waldaa WAAQAYYOO akkana
jedha: ‘Isin akkamitti akkanaan amanamummaa Waaqa Israa’el wajjin qabdan
sana cabsitu? Isin akkamitti WAAQAYYO irraa garagaltanii isatti finciluudhaan ofii
keessaniif iddoo aarsaa tolfattu? 17 Cubbuun Phe’oor keessatti hojjetame sun nu hin
ga’uu? Dha’ichi saba WAAQAYYOO irra bu’u iyyuu, nu hamma har’aatti cubbuu sana
irraa of hin qulqulleessine. 18 Isin ammas WAAQAYYO irraa garagaluu keessanii?

“ ‘Yoo isin har’a WAAQAYYOTTI finciltan inni immoo bori hawaasa Israa’el hundatti
ni dheekkama. 19 Yoo lafti isin qabattan sun xuroofte, gara lafa WAAQAYYO iddoo
dunkaanni WAAQAYYOO dhaabatuu kottaatii nu wajjin lafa qoodadhaa. Garuu
iddoo aarsaa WAAQAYYO Waaqa keenyaa malee iddoo aarsaa biraa ofii keessanii
tolfattanii WAAQAYYOTTI yookaan nutti hin fincilinaa. 20 Yeroo Aakaan ilmi Zaaraa

waan dhowwamaa ta'e fudhachuudhaan cubbuu hojjetetti waldaa Israa'el hundatti dheekkamsi hin dhufnee? Namni sababii cubbuu isaatiin du'e isa qofa miti.' "
21 Kana irratti gosti Ruubeen, gosti Gaadii fi walakkaan gosa Minaasee akkana
jedhanii hangafoota maatiiwwan Israa'eliif deebisan; 22 "WAAQAYYO Waaqni waaqo-
taa, WAAQAYYO Waaqni waaqotaa ni beeka! Israa'elis haa beeku! Yoo wanni kun
WAAQAYYOTTI finciluuf yookaan isaa ajajamuu diduuf ta'e har'a nu hin hambisin.
23 Yoo nu WAAQAYYO irraa deebi'uuf jennee, aarsaa gubamuu fi kennaa midhaanii,
yookaan aarsaa nagaa achi irratti dhi'eessuuf iddoo aarsaa ofii keenyaa tolfannee jiraanne, WAAQAYYO mataan isaa itti nu haa gaafatu.
24 "Sababiin nu waan kana gooneef ijoolleen keessan gara fuula duraatti ijoollee
keenyaan akkana jedhu ta'a jennee sodaannee ti; 'Isin WAAQAYYO Waaqa Israa'el
irraa maali qabdu? 25 WAAQAYYO nuu fi isin jechuunis isin gosa Ruubeenii fi gosa
Gaad gidduu Yordaanos daarii godhee dhaabeera! Isin WAAQAYYO irraa qooda tokko illee hin qabdan.' Kanaafuu ijoolleen keessan akka ijoolleen keenya WAAQAYYOON sodaachuu dhiisan godhu ta'a.
26 "Sababiin nu, 'Kottaa qophoofnee iddoo aarsaa tokko tolfannaa; garuu iddoon
aarsaa kun kan aarsaan gubamu yookaan qalmi irratti dhi'eeffamuu miti' jenneefis
kanuma. 27 Karaa biraa immoo akka iddoon aarsaa kun akka nu aarsaa keenya
kan gubamu, qalma keenyaa fi aarsaa nagaatiin iddoo qulqulluu isaatti WAAQAYYOON waaqeffannuuf nu, isinii fi dhaloota dhufu gidduutti dhugaa baatuu ta'uuf. Kana booddee ijoolleen keessan ijoollee keenyaan, 'Isin WAAQAYYO irraa qooda tokko illee hin qabdan' jechuu hin danda'an.
28 "Nus akkana jenne; 'Yoo isaan baroota dhufuuf jiran keessa nuun yookaan dhaloota keenyaan akkas jedhan, mee fakkii iddoo aarsaa WAAQAYYOO kan abbootiin keenya aarsaa gubamu yookaan qalma irratti dhi'eessuuf utuu hin ta'in akka inni nuu fi isin gidduutti dhuga baatuu ta'uuf tolchan kana ilaalaa jennaan.'
29 "Iddoo aarsaa WAAQAYYO Waaqa keenyaa kan dunkaana isaa qulqulluu dura dhaabatu sana malee har'a iddoo aarsaa kan aarsaan gubamu, kennaan midhaaniitii fi qalmi irratti dhi'eeffamu kan biraa tolchuudhaan WAAQAYYOTTI fincillee isa irraa garagaluun nurraa haa fagaatu."
30 Fiinehaas lubichi, qajeelchitoonni sabaatii fi hangafoonni maatiiwwan Israa'el
yommuu waan gosti Ruubeen, gosti Gaadii fi gosti Minaasee jedhan dhaga'anitti ni
gammadan. 31 Fiinehaas ilmi Ele'aazaar lubichaas ijoollee Ruubeeniin, ijoollee Gaadii fi ilmaan Minaaseetiin, "Nu har'a sababii isin waan kana keessatti WAAQAYYOOF amanamummaa hin dhiisiniif akka WAAQAYYO nu wajjin jiru beekneerra. Isin amma Israa'eloota harka WAAQAYYOO jalaa baaftaniirtu" jedhe.
32 Ergasiis Fiinehaas ilmi Ele'aazaar lubichaa fi qajeelchitoonni sun ijoollee
Ruubeenii fi ijoollee Gaad wajjin Gili'aaditti wal ga'ii godhatanii gara Kana'aanitti
deebi'anii oduu achii fidan Israa'elootatti himan. 33 Isaanis oduu kana dhaga'anii
gammadanii Waaqa galateeffatan. Lammatas itti deebi'anii waa'ee isaanitti duuluu fi biyya gosti Ruubeenii fi gosti Gaad keessa jiraatu sana balleessuu hin dubbanne.
34 Gosti Ruubeenii fi gosti Gaadis maqaa kanaan iddoo aarsaa sana moggaasan: Iddoon Aarsaa kun akka WAAQAYYO Waaqa ta'e Nu Gidduutti Dhugaa Baatuu dha.

# 23

### *Haasaa Iyyaasuu Isa Dhumaa*

1 Erga barri dheeraan darbee WAAQAYYOS diinota isaan marsan hunda irraa
Israa'eloota boqochiisee booddee Iyyaasuun bara dheeraa jiraatee dulloome; 2 innis
Israa'eloota hunda jechuunis maanguddoota isaanii, hooggantoota isaanii, abbootii murtii isaaniitii fi qondaaltota isaanii ofitti waamee akkana jedheen: "Kunoo ani bara

dheeraa jiraadhee dulloomeera. 3 Isin mataan keessanuu waan WAAQAYYO Waaqni
keessan isiniif jedhee saboota kana godhe hundumaa argitaniirtu; WAAQAYYO Waaqa
keessantu isiniif lole. 4 Akka ani itti biyya saboota hafanii jechuunis biyya saboota
ani Yordaanosii jalqabee hamma lixa Galaana Guddichaatti mo'adhe sanaa hunda
gosoota keessaniif dhaala godhee kenne mee yaadadhaa. 5 WAAQAYYO Waaqni keessan
mataan isaa iyyuu fuula keessan duraa ari'ee isaan baasa. Inni fuula keessan duraa
dhiibee isaan baasa; isin immoo akkuma WAAQAYYO Waaqni keessan isin abdachiise
sanatti biyya isaanii qabattu.
6 "Jabaadhaa dhaabadhaa; akka waan Kitaaba Seera Musee keessatti barreeffame
hunda, utuu gara mirgaatti yookaan bitaatti hin jal'atin jabeessaa eegaa. 7 Saboota
gidduu keessanitti hafan kanneenitti hin makaminaa; maqaa waaqota isaanii hin
dha'inaa yookaan ittiin hin kakatinaa. Waaqota sana hin tajaajilinaa yookaan isaaniif
hin sagadinaa. 8 Garuu akkuma hamma har'aatti gochaa turtan sana jabaadhaa
WAAQAYYO Waaqa keessanitti maxxanaa.
9 "WAAQAYYO saboota gurguddaa fi humna qabeeyyii fuula keessan duraa ari'ee
baaseera; hamma ammaatti namni tokko iyyuu isin dura dhaabachuu hin dandeenye.
10 Sababii WAAQAYYO Waaqni keessan akkuma waadaa gale sana isinii loluuf namni
keessan tokkichi nama kuma tokko ari'a. 11 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqa keessan
cimsaa jaalladhaa.
12 "Garuu yoo isin karaa irraa jal'attanii hambaa saboota gidduu keessan jiraatan
kanneeniitti maxxantan, yoo isin isaaniin walfuutanii isaanitti makamtan, 13 akka
WAAQAYYO Waaqni keessan si'achi saboota kanneen isin duraa ari'ee hin baafne
beekkadhaa. Qooda kanaa isaan hamma isin biyya gaarii WAAQAYYO Waaqni keessan
isiniif kenne kana keessaa dhumtanitti iddaa fi kiyyoo isinitti ta'u; dugda keessanitti
qaccee, ija keessanittis qoraattii ta'u.
14 "Kunoo ani karaa lafa hundaa deemuufin jira. Akka waadaa gaarii WAAQAYYO
Waaqni keessan isiniif gale hunda keessaa tokko iyyuu utuu hin guutamin hafee hin
jirre isin garaa keessan guutuu fi lubbuu keessan guutuudhaan ni beektu. Waadaan
hundi guutameera; tokko iyyuu hin hir'anne. 15 Garuu akkuma waadaan gaariin
WAAQAYYO Waaqa keessanii hundi guutame sana, WAAQAYYO akkasuma waan hamaa
ittiin isin sodaachise sana hunda hamma biyya gaarii isinii kenne kana irraa isin
fixutti isinitti fida. 16 Yoo isin kakuu WAAQAYYO Waaqni keessan isin ajaje cabsitanii
dhaqxanii waaqota biraa tajaajiltanii fi isaaniif sagaddan dheekkamsi WAAQAYYOO
isinitti boba'a; isinis biyya gaarii inni isinii kenne sana irraa daftanii ni baddu."

# 24

*Kakuun Sheekemitti Haaromfame*

1 Iyyaasuunis ergasii gosoota Israa'el hunda Sheekemitti walitti qabe. Innis
maanguddoota, hooggantoota, abbootii murtii fi qondaaltota Israa'el walitti waame;
isaanis fuula Waaqaa duratti dhi'aatan.
2 Iyyaasuun saba hundaan akkana jedhe; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha:
'Abbootiin keessan bara durii, Taaraa abbaa Abrahaamii fi Naahoor dabalatanii Laga
gama jiraatanii waaqota biraa waaqeffatan. 3 Ani garuu abbaa keessan Abrahaam
biyya Laga gamaatii fuudhee biyya Kana'aan keessa isa dabarsee sanyii baay'ee
kenneef. Ani Yisihaaqin isaafan kenne; 4 Yisihaaqiif immoo Yaaqoobii fi Esaawun
kenne. Biyyaa gaaraa See'iir Esaawufin kenne; Yaaqoobii fi ilmaan isaa garuu Gibxitti
gad bu'an.
5 " 'Anis Musee fi Aroon ergee waanan achitti hojjedheen namoota Gibxi dha'ichaan
dha'ee achii isin baase. 6 Yeroo ani abbootii keessan biyya Gibxi keessaa baasetti,
isin gara galaanaa dhuftan; warri Gibxi immoo gaariiwwan lolaatii fi warra

fardeen yaabbataniin hamma Galaana Diimaatti isaan hordofan. 7 Isaan gargaarsa
barbaaduuf WAAQAYYOTTI iyyatan; innis isaanii fi warra Gibxi gidduu dukkana buuse;
warra Gibxitti galaana fidee isaan ukkaamse. Isin waan ani warra Gibxi godhe ijuma
keessaniin argitan. Ergasiis isin bara dheeraa gammoojjii keessa jiraattan.

8 " 'Anis biyya Amoorota gama ba'a Yordaanos jiraachaa turan sanaatti isin nan
fide. Isaanis isin lolan; ani garuu dabarsee harka keessanitti isaan kenne. Ani fuula
keessan duraa isaan nan barbadeesse; isinis biyya isaanii qabattan. 9 Baalaaq ilmi
Ziphoori mootichi Mo'aab sun yeroo Israa'elitti duuluuf qophaa'etti akka inni isin
abaaruuf Bala'aam ilma Be'ooritti dhaamsa ergate. 10 Ani garuu Bala'aamin hin
dhaggeeffanne; kanaafuu inni irra deddeebi'ee isin eebbise; anis harka isaa keessaa
isin nan baase.

11 " 'Isinis ergasii laga Yordaanos ceetanii Yerikoo dhuftan. Jiraattonni Yerikoos
akkuma Amooronni, Feerzonni, Kana'aanonni, Heetonni, Girgaashonni, Hiiwonnii
fi Yebuusonni godhan sana isin lolan; ani garuu dabarseen harka keessanitti isaan
kenne. 12 Ani sonsa isaanii fi mootota Amoorotaa lamaan fuula keessan duraa ari'ee
baasu isin dura nan erge. Isin goraadee keessanii fi iddaa keessaniin isaan hin ariine.
13 Ani akkasiin biyya isin itti hin dadhabinii fi magaalaa isin hin ijaarin isiniifan
kenne; isinis isaan keessa jiraattanii iddoo dhaabaa wayiniitii fi muka ejersaa kan
ofii keessanii hin dhaabin irraa nyaattan.'

14 "Egaa WAAQAYYOON sodaadhaatii amanamummaa guutuudhaan isa tajaajilaa.
Waaqota abbootiin keessan Laga gamaa fi biyya Gibxitti waaqeffatan sana gataatii
WAAQAYYOON tajaajilaa. 15 Isin garuu yoo WAAQAYYOON tajaajiluu hin barbaanne,
waaqota abbootiin keessan Laga gamatti tajaajilaa turan sana yookaan waaqota
Amoorotaa biyya isaanii keessa jiraattan kanneenii keessaa har'a filadhaa. Anii fi
manni koo garuu WAAQAYYOON waaqeffanna."

16 Sabnis akkana jedhee deebiseef; "Waaqota biraa tajaajiluudhaaf jennee
WAAQAYYOON dhiisuun nurraa haa fagaatu! 17 Kan biyya Gibxi, biyya garbummaa
sana keessaa nuu fi abbootii keenya baasee waan mallattoowwan gurguddaa sana
ija keenya duratti hojjete WAAQAYYO Waaqa keenyaa dha. Inni karaa keenya hunda
irrattii fi saboota nu gidduu isaanii tarre sana hunda gidduutti nu eege. 18 WAAQAYYO
saboota hunda, Amoorota biyya sana keessa jiraachaa turanis fuula keenya duraa
ari'ee baase. Sababii inni Waaqa keenya ta'eef nu WAAQAYYOON tajaajilla."

19 Iyyaasuunis sabaan akkana jedhe; "Isin WAAQAYYOON tajaajiluu hin dandeessan.
Inni Waaqa qulqulluu dha. Inni Waaqa hinaafuu dha. Inni fincila keessanii fi
cubbuu keessan isinii hin dhiisu. 20 Yoo isin WAAQAYYOON dhiiftanii waaqota ormaa
tajaajiltan, inni erguma waan gaarii isinii godhee booddee garagalee balaa isinitti
buusee isin balleessa."

21 Namoonni garuu Iyyaasuudhaan, "Lakki! Nu WAAQAYYOON tajaajilla" jedhan.

22 Iyyaasuunis deebisee, "Isin akka WAAQAYYOON tajaajiluu filattan ofii keessanitti
dhugaa baatota taataniirtu" jedheen.

Isaanis deebisanii, "Eeyyee, nu dhugaa baatota" jedhan.

23 Kana irratti Iyyaasuun, "Yoos amma waaqota ormaa kanneen isin gidduu jiran
sana baasaa gataatii garaa keessan WAAQAYYO Waaqa Israa'elitti kennaa" jedheen.

24 Sabnis Iyyaasuudhaan, "Nu WAAQAYYO Waaqa keenya tajaajilla; ni ajajamnaafis"
jedhe.

25 Iyyaasuun guyyaa sana sabaaf kakuu galee Sheekemitti ajajaa fi seera baase.
26 Innis waan kana Kitaaba Seera Waaqaa keessatti barreesse. Dhagaa guddaa tokkos
fuudhee iddoo qulqulluu WAAQAYYOO biratti qilxuu tokko jala dhaabe.

27 Inni nama hundaan akkana jedhe; “Kunoo! Dhagaan kun dhugaa nutti ba’aa.
Inni dubbii WAAQAYYO nutti dubbate hunda dhaga’eera. Yoo isin Waaqa keessaniif
hin amanamin dhagaan kun dhugaa isinitti ba’a.”

*Iyyaasuun Du’uu Isaa*
*24:29-31 kwf – AbM 2:6-9*

28 Kanaafuu Iyyaasuun tokkoo tokkoo namaa gara dhaala mataa mataa isaatti erge.
29 Sana booddee Iyyaasuun ilmi Nuuni, garbichi WAAQAYYOO sun, waggaa dhibba
tokkoo fi kudhanitti du’e. 30 Isaanis lafa dhaala isaa, Timnaat Seeraa kan biyya gaaraa
Efreem keessatti karaa kaaba Tulluu Ga’aashitti argamtu sanatti isa awwaalan.
31 Sabni Israa’el bara jireenya Iyyaasuu guutuu fi bara maanguddoota erga inni
du’ee as hafanii jiraatanii waan WAAQAYYO Israa’eliif godhe hunda arganii keessa
WAAQAYYOON tajaajileera.
32 Lafeen Yoosef kan Israa’eloonni biyya Gibxii baasanii fidanis Sheekemitti lafa
Yaaqoob meetii dhibba tokkoon ilmaan Hamoor, abbaa Sheekem irraa bitee sanatti
awwaalame. Lafti kunis dhaala sanyii Yoosef ta’e.
33 Ele’aazaar ilmi Aroonis du’ee Gibe’aa lafa biyya gaaraa Efreem kan ilma isaa
Fiinehaasiif ixaadhaan kenname keessatti awwaalame.

# Kitaaba
# Abbootii Murtii

*Israa'eloonni Kana'aanota Lolan*
*1:11-15 kwf – Iya 15:15-19*

1 Erga Iyyaasuun du'ee booddee Israa'eloonni, "Kana'aanota loluudhaaf eenyu dursee nuuf haa ba'u?" jedhanii WAAQAYYOON gaafatan.

2 WAAQAYYOS, "Yihuudaan dursee haa ba'u; kunoo, ani biyyattii dabarsee harka isaatti kenneera" jedhee deebiseef.

3 Namoonni Yihuudaas obboloota isaanii ilmaan Simi'ooniin, "Kottaa gara lafa qooda keenyaatti Kana'aanota loluuf wajjin baanaa; nus gama keenyaan gara lafa qooda keessaniitti isin wajjin ni baanaa" jedhan. Kanaafuu namoonni Simi'oon isaan wajjin ba'an.

4 Yommuu Yihuudaan ba'ettis WAAQAYYO Kana'aanotaa fi Feerzota dabarsee harka
isaaniitti kenne; isaanis iddoo Bezeq jedhamutti nama kuma kudhan fixan. 5 Achittis
Adoonii-Bezeq arganii isa lolan; Kana'aanotaa fi Feerzotas mo'atan. 6 Adoonii-Bezeq
achii baqate; isaan garuu ari'anii isa qaban; quba abbuudduu harkaatii fi quba abbuudduu miilla isaa irraa kutan.

7 Ergasiis Adoonii-Bezeq, "Mootonni qubni abbuudduun harka isaaniitii fi qubni abbuudduun miilla isaanii irraa cirame torbaatamni waan maaddii koo jalatti harca'e funaannachaa turan. Amma garuu Waaqni waanuma ani isaanitti hojjedhe naa deebise" jedhe. Isaanis Yerusaalemitti isa fidan; innis achitti du'e.

8 Namoonni Yihuudaa Yerusaalemiinis akkasuma dha'anii qabatan. Magaalattiis goraadeedhaan dha'anii ibidda itti qabsiisan.

9 Ergasiis namoonni Yihuudaa Kana'aanota biyya gaaraa, Negeebii fi gammoojjii
karaa lixa biiftuu keessa jiraatan loluudhaaf gad bu'an. 10 Namoota Kana'aan
kanneen Kebroon ishee dur Kiriyaati Arbaaq jedhamtu keessa jiraatanittis duulanii
Sheeshaayiin, Ahiimanii fi Talmaayin mo'atan. 11 Achiis namoota biyya Debiir ishee
dur Kiriyaati Seefer jedhamaa turte sana keessa jiraatanitti duulan.

12 Kaalebis, "Ani nama Kiriyaati Seefer lolee qabatutti intala koo Aaksaa nan
heerumsiisa" jedhe. 13 Obboleessi Kaaleb quxisuun, Otnii'eel ilmi Qenaz magaalattii
qabate; Kaalebis intala isaa Aaksaa isatti heerumsiise.

14 Isheenis yeroo gara Otnii'eel dhuftetti, akka inni abbaa ishee lafa qotiisaa kadhatu isa kakaafte. Kaalebis yommuu isheen harree ishee irraa buutetti, "Ani maal siif godhu?" jedhee ishee gaafate.

15 Isheenis deebiftee, "Waan addaa tokko naa godhi. Akkuma Negeeb keessatti lafa naa kennite sana burqaawwan bishaaniis naa kenni" jetteen. Kaalebis burqaawwan oliitii fi gadii kenneef.

16 Sanyiiwwan Qeenii namicha abbaa niitii Musee sanaa namoota gammoojjii Yihuudaa keessa Negeeb ishee Aaraad biratti argamtu keessa jiraatan gidduu jiraachuuf jedhanii namoota Yihuudaa wajjin Magaalaa Meexxiitii ol ba'an.

17 Namoonni Yihuudaa obboloota isaanii ilmaan Simi'oon wajjin dhaqanii
Kana'aanota Zefaati keessa jiraatan waraanan; magaalattiis guutumaan guutuutti
barbadeessan. Kanaafuu magaalattiin Hormaa jedhamtee waamamte. 18 Akkasumas
namoonni Yihuudaa Gaazaa gandoota naannoo ishee wajjin, Ashqaloon gandoota naannoo ishee wajjin, Eqroon naannoo ishee wajjin qabatan.

19 WAAQAYYO namoota Yihuudaa wajjin ture. Kanaafuu isaan biyya gaaraa sana qabatan; garuu sababii namoonni dirree irra jiraatan gaariiwwan sibiilaa qabaniif

achii isaan baasuu hin dandeenye. [20] Akkuma Museen abdachiisee turetti Kebroon
Kaalebiif kennamte; innis ilmaan Anaaq sadan achii ari'ee baase. [21] Ijoolleen
Beniyaam garuu Yebuusota Yerusaalem keessa jiraachaa turan sana achii baasuu hin
dandeenye; hamma ammaatti Yebuusonni Beniyaamota wajjin iddoo sana jiraatan.
[22] Gosti Yoosef immoo Beet'eel waraanan; WAAQAYYOS isaan wajjin ture. [23] Yommuu
isaan gara Beet'eel ishee dur Luuzi jedhamtutti basaastota erganitti, [24] basaastonni
sun namicha magaalaadhaa ba'ee dhufu tokko arganii, "Karaa ittiin magaalaa seenan
nu argisiisi; nus waan gaarii siif goona" jedhaniin. [25] Innis itti argisiise; isaanis
namicha sanaa fi maatii isaa guutuu dhiisanii magaalaa sana goraadeedhaan dha'an.
[26] Namichis gara Heetotaa deemee magaalaa Loozaa jedhamtu hundeesse; isheenis
hamma ammaatti Luuzi jedhamtee waamamti.
[27] Minaaseen garuu namoota Beet She'aaniitii fi gandoota naannoo ishee yookaan
Ta'anaakii fi gandoota naannoo ishee yookaan Doorii fi gandoota naannoo ishee
yookaan Yible'aamii fi gandoota naannoo ishee yookaan Megidoo fi gandoota
naannoo ishee jiraatan achii hin baafne; kanaafuu Kana'aanonni ittuma fufanii achi
jiraachuuf murteeffatan. [28] Israa'eloonni yommuu jabaachaa dhufanitti akka isaan
hojii humnaa hojjetan isaan dirqisiisan malee Kana'aanota guutumaan guutuutti
achii hin baafne. [29] Efreemis Kana'aanota Geezir keessa jiraatan achii hin baafne;
Kana'aanonni garuu ittuma fufanii achuma isaan gidduu jiraatan. [30] Zebuuloonis
Kana'aanota Qixroon yookaan Nahalol keessa jiraatan kanneen gidduu isaaniitti
hafan hin baafne; garuu akka isaan hojii humnaa hojjetan godhan. [31] Aasheeris
warra Akoo yookaan Siidoon yookaan Ahilaab yookaan Akziib yookaan Helbaa
yookaan Afiiqii fi Rehoob keessa jiraatan hin baafne; [32] namoonni Aasheer sababii
isaan jara ari'anii hin baasiniif Kana'aanota biyya sana jiran gidduu jiraatan.
[33] Niftaalem warra Beet Shemeshii fi Beet Anaati keessa jiraatan hin baafne;
namoonni Niftaalem garuu Kana'aanota biyya sana turan gidduu jiraatan; warri
Beet Shemeshii fi Beet Anaati dirqamsiifamanii hojii humnaa hojjechaafii turan.
[34] Amooronni immoo warra Daan gara biyya gaaraatti dhiiban malee akka isaan
sululatti gad bu'an hin eeyyamneef ture. [35] Amooronnis itti fufanii Tulluu Herees
irra, Ayaaloonii fi Sha'albiim keessa jiraatan; garuu yommuu humni mana Yoosef
jabaachaa dhufetti isaanis hojii humnaa isaanii hojjechuuf dirqisiifaman. [36] Daariin
Amoorotaa Aqrabiimii jalqabee karaa Seelaatiin ol ba'a ture.

# 2

### *Ergamaa WAAQAYYOO Bookiim Keessatti*

[1] Ergamaan WAAQAYYOO Gilgaalii Bookiimitti ol ba'ee akkana jedhe; "Ani Gibxii isin
baasee biyya ani abbootii keessaniif kennuuf kakadhe sanatti isin fideera. Akkanas
nan jedhe; 'Ani kakuu isin wajjin gale sana gonkumaa hin diigu; [2] isinis warra lafa
kana irra jiraatan wajjin kakuu hin galinaa; iddoo aarsaa isaanii garuu caccabsaa.'
Ta'us isin naaf hin ajajamne. Isin maaliif waan kana gootan? [3] Kanaafuu ani amma
akka fuula keessan duraa ari'ee isaan hin baafne isinitti nan hima; isaan iddaa isinitti
ta'u; waaqonni isaanii immoo kiyyoo isinitti ta'u."
[4] Yeroo ergamaan WAAQAYYOO waan kana Israa'eloota hundatti dubbatetti
namoonni sagalee isaanii ol fudhatanii boo'an; [5] isaanis iddoo sana Bookiim jedhanii
waaman. Achittis WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessan.

### *Ajajamuu Diduu fi Mo'atamuu*
### *2:6-9 kwf – Iya 24:29-31*

[6] Erga Iyyaasuun Israa'eloota gad dhiisee booddee tokkoon tokkoon isaanii biyyattii
dhaaluuf gara dhaala ofii isaanii deeman. [7] Uummanni bara jireenya Iyyaasuu

guutuu fi bara maanguddoota erga inni du'ee as hafanii jiraatanii waan guddaa
Waaqayyo Israa'eliif godhe argan sunis Waaqayyoon tajaajilan.
8 Iyyaasuun ilmi Nuuni garbichi Waaqayyoo waggaa dhibba tokkoo fi kudhanitti
du'e. 9 Isaanis lafa dhaala isaa Timnaat Herees kan biyya gaaraa Efreemitti karaa
kaaba Tulluu Ga'aashitti argamtu sanatti isa awwaalan.
10 Erga dhaloonni sun guutuun gara abbootii isaaniitti walitti qabamanii booddee
dhaloonni Waaqayyoon hin beekin yookaan waan inni saba Israa'eliif godhe hin
beekin kan biraa ka'e. 11 Israa'eloonnis fuula Waaqayyoo duratti waan hamaa hoj-
jetan; Ba'aaliinis ni tajaajilan. 12 Isaan Waaqayyo Waaqa abbootii isaanii kan Gibxii
isaan baase sana ni dhiisan. Waaqota adda addaa kanneen saboota naannoo isaanii
jiraatanii duukaa bu'an; ni waaqeffatanis. Waaqayyonis dheekkamsaaf kakaasan;
13 isaan isa dhiisanii Ba'aalii fi Ashtooretin waaqeffataniiruutii. 14 Waaqayyos
Israa'elootatti dheekkamee saamtota isaan saamanitti dabarsee isaan kenne. Diinota
naannoo isaanii kanneen isaan of irraa ittisuu hin dandeenye hundatti isaan gurgure.
15 Yommuu Israa'eloonni lolaaf ba'anitti akkuma inni duraan kakate sanatti harki
Waaqayyoo isaanitti hammaatee akka isaan mo'ataman godha ture. Isaanis rakkina
guddaa keessa bu'an.
16 Waaqayyos abbootii murtii kanneen saamtota jalaa isaan baasan isaaniif kaase.
17 Isaan garuu waaqota biraa wajjin sagaagalanii isaan waaqeffatan malee abbootii
murtii sana hin dhaggeeffanne. Karaa abbootiin isaanii Waaqayyoof ajajamuudhaan
irra deemaa turan sana irraa dafanii jal'atan; isaan waan abbootiin isaanii godhan
hin goone. 18 Waaqayyo yeroo abbaa murtii tokko isaanii kaasetti hamma abbaan
murtii sun jirutti isa wajjin jiraatee harka diinota isaanii jalaa isaan baasa ture;
Waaqayyo yeroo isaan sababii warra isaan cunqursanii fi warra isaan miidhaniitiin
wawwaatanitti garaa laafaaf tureetii. 19 Yommuu abbaan murtii sun du'u garuu isaan
waaqota biraa duukaa bu'uudhaan, tajaajiluu fi isaan waaqeffachuudhaan abbootii
isaanii iyyuu caalaa gara hamminaatti deebi'an. Hojii hamminaatii fi mataa jabina
isaanii irraas hin deebi'an ture.
20 Kanaafuu Waaqayyo Israa'elitti akka malee dheekkamee akkana jedhe; "Waan
sabni kun kakuu ani abbootii isaatiif gale sana cabsee anas dhaga'uu dideef, 21 ani
si'achi saboota Iyyaasuun yeroo du'etti isaan gidduutti dhiise sana isaan duraa
ari'ee hin baasu. 22 Karaa saboota kanaatiinis akka isaan akkuma abbootii isaanii
karaa Waaqayyoo eeganii irra deddeebi'anii fi akka isaan hin eegne ilaaluuf jedhee
Israa'elin nan qora." 23 Kanaafuu Waaqayyo akka saboonni kunneen achumatti
hafan eeyyame; harka Iyyaasuuttis dabarsee isaan kennuudhaan dafee achii isaan
hin baafne.

# 3

1 Saboonni Waaqayyo Israa'eloota waraana Kana'aan keessatti deemsifame kam
iyyuu irratti hirmaatanii hin beekin hunda qoruuf jedhee idduma isaan turanitti
hambise kanneenii dha; 2 innis akka Israa'eloonni kanaan dura waraana keessatti
hirmaatanii hin beekin muuxannoo argataniif waan kana godhe; 3 kanneen utuu
hin ba'in achumatti hafanis: bulchitoota Filisxeemotaa shanan, Kana'aanota hunda,
Siidoonotaa fi Hiiwota Tulluu Ba'aal Hermoonii jalqabanii hamma balbala Hamaatitti
gaarran Libaanoon gubbaa jiraatanii dha. 4 Isaan kunneen warra Israa'eloonni ajaja
Waaqayyoo kan inni karaa Museetiin abbootii isaaniif kennee ture sana eeguu fi
eeguu baachuu isaanii ittiin qoramanii ilaalamaniif hambifamanii dha.
5 Kanaafuu Israa'eloonni Kana'aanota, Heetota, Amoorota, Feerzota, Hiiwotaa fi
Yebuusota gidduu jiraatan. 6 Isaanis intallan jaraa fuudhan; intallan ofii isaanii
immoo ilmaan isaaniitti heerumsiisan; waaqota isaaniis ni waaqeffatan.

### *Otnii'eel*

7 Israa'eloonni fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjetan; WAAQAYYO Waaqa
isaanii irraanfatanii Ba'aalii fi Asheeraa waaqeffatan. 8 Aariin WAAQAYYO Is-
raa'elootatti boba'e; kanaafuu mootii Phaadaan Arraam Kuushan-Rishaataayimitti
dabarsee isaan gurgure; Israa'eloonnis waggaa saddeeti isa jalatti bulan. 9 WAAQAYYO
garuu yeroo isaan gara isaatti iyyatanitti nama isaan furu tokko jechuunis obboleessa
Kaaleb quxisuu, Otnii'eel ilma Qenaz sana akka inni isaan furuuf kaaseef. 10 Hafuurri
WAAQAYYOO isa irra bu'e; kanaafuu inni abbaa murtii Israa'elootaa ta'ee duulaaf ba'e.
WAAQAYYOS Kuushan-Rishaataayim mooticha Phaadaan Arraam sana dabarsee harka
Onnii'elitti kenne; innis isa mo'ate. 11 Kanaafuu biyyi sun hamma Otnii'eel ilmi Qenaz
du'utti waggaa afurtama nagaa argate.

### *Naa'od*

12 Ammas Israa'eloonni fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjetan; sababii
isaan waan hamaa kana hojjetaniif WAAQAYYO akka Egloon mootiin Mo'aab harka isaa
isaanitti cimsuuf dabarsee isaan kenne. 13 Innis Amoonotaa fi Amaaleqoota walitti
qabatee Israa'eloota waraane; isaanis Magaalaa Meexxii qabatan. 14 Israa'eloonni
waggaa kudha saddeet Egloon mootii Mo'aab jalatti bulan.

15 Israa'eloonni ammas gara WAAQAYYOOTTI iyyatan; innis nama isaan furu tokko
jechuunis Eehuud nama harka bitaachaa, ilma Geeraa sana gosa Beniyaam keessaa
isaanii kaase. Israa'eloonnis akka inni Egloon mootii Mo'aab sanaaf gibira geessu
Naa'odin ergan. 16 Eehuudis goraadee gama lamaan qara qabu kan meetira walakkaa
dheeratu tolfatee uffata isaa jalaan tafa mirgaatti hidhate. 17 Gibira sana Egloon
mooticha Mo'aab namicha akka malee furdaa ture sanaaf dhi'eesse. 18 Naa'od
erga gibira sana dhi'eessee booddee namoota baataniifii dhufan geggeesse. 19 Inni
garuu iddoo dhagaan baafamu kan Gilgaal biratti argamu bira ga'ee duubatti
deebi'uudhaan, "Yaa mootii ani waan dhoksaatti sitti himu tokko qaba" jedhe.

Mootichis, "Cal'isaa!" jedhe; warri isa bira turan hundinuus isa dhiisanii ba'an.

20 Utuu mootichi kutaa mana isaa iddoo qabbanaa'aa tokko kophaa isaa taa'ee jiruu
Eehuud itti dhi'aatee, "Ani ergaa Waaqa biraa siif ergame qaba" jedheen. Egloonis
teessoo isaa irraa ol ka'e; 21 Eehuud harka isaa bitaa diriirsee tafa mirga isaa irraa
goraadee luqqifatee garaa moottichaa keessa fullaase. 22 Qabannoon isaas utuu hin
hafin garaa seenee sibiilli isaa duubaan ba'e. Naa'od goraadicha garaa moottichaa
keessaa hin buqqifne; moorris goraadee sana haguugee ture. 23 Ergasiis Eehuud
Egloonitti balbala cufee karaa borootiin ba'ee qajeele.

24 Erga Eehuud deemee booddee tajaajiltoonni moottichaa dhufan; balbala kutaa
mana ol aanuus akkuma inni cufamee jirutti argan. Isaanis, "Tarii inni mana boolii
gad taa'ee jira ta'a" jedhan. 25 Hamma dadhabanittis eegan; garuu waan inni utuu
balbala hin banin tureef furtuu fudhatanii balbala banan. Kunoo gooftaan isaanii
du'ee lafa irra diriiree ture.

26 Utuma isaan dhaabatanii eegaa jiranuu Eehuud fagaatee deeme. Karaa lafa
dhagaan itti soofamuutiin darbee gara Se'iiraatti baqate. 27 Innis yommuu achi ga'etti
biyya gaaraa Efreem keessatti malakata afuufe; Israa'eloonnis hooggantummaa
isaatiin biyya gaaraa sana irraa isa wajjin gad bu'an.

28 Eehuudis, "Diina keessan Mo'aabin WAAQAYYO dabarsee harka keessanitti isinii
kenneeraatii na duukaa bu'aa!" jedheen. Isaanis malkaa Yordaanos kan gara
Mo'aabitti geessu sana qabatanii nama tokko illee achiin darbuu dhowwan. 29 Yeroo
sanatti Mo'aabota hundi isaanii jajjaboo fi humna qabeeyyii ta'an kuma kudhan
fixan; namni tokko iyyuu isaan jalaa hin baane. 30 Gaafa sana Mo'aab harka
Israa'elitti galfamte; biyyattiinis waggaa saddeettamaaf nagaa argatte.

### *Shamgaar*

31 Eehuuditti aanee Shamgaar ilmi Anaat ka’e; innis ulee ittiin qotiyyoo tuttuqaniin
Filisxeemota dhibba ja’a fixe. Akkasiinis Israa’eloota baraare.

# 4

*Debooraa*

1 Erga Eehuud du’ee booddee Israa’eloonni ammas fuula Waaqayyoo duratti waan
hamaa hojjetan. 2 Kanaafuu Waaqayyo Yaabiin mootii Kana’aan kan Haazoor taa’ee
bulchaa turetti dabarsee isaan gurgure. Ajajaan loltoota isaa Siisaaraa jedhama ture;
innis Harooshet Hagooyim keessa jiraata ture. 3 Inni sababii gaariiwwan sibiilaa
dhibba sagal qabuuf waggaa digdama akka malee Israa’eloota hacuuce; isaanis
gargaarsa barbaacha Waaqayyotti iyyatan.

4 Yeroo sanatti niitiin Lafiidoot Debooraan raajittiin Israa’elin bulchaa turte.
5 Isheenis biyya gaaraa Efreemitti Muka Meexxii Debooraa kan Raamaa fi Beet’eel
gidduutti argamu sana jala teessee murtii kennaa turte. Sabni Israa’elis murtii
argachuuf gara ishee dhufaa ture. 6 Isheenis Baaraaqi ilma Abiinoo’am biyya
Niftaalem magaalaa Qaadeshiitii waamsifatee akkana jetteen; “Waaqayyo Waaqni
Israa’el akkana jedhee si ajaja; ‘Ka’i; gosa Niftaalemii fi gosa Zebuuloon keessaa
nama kuma kudhan fudhadhuutii Tulluu Taabooriitti ol ba’i. 7 Anis Siisaaraa, ajajaa
loltoota Yaabiin sana gaariiwwan lolaatii fi loltoota isaa wajjin akka inni gara Laga
Qiishoonitti ba’u nan kakaasa; isas harka keetti dabarsee nan kenna.’ ”

8 Baaraaqis, “Yoo ati na wajjin deemte, ani nan deema; yoo ati na wajjin hin deemin
garuu anis hin deemu” jedheen.

9 Debooraanis, “Ani dhugumaan si faana nan deema. Yoo ati haala kanaan deemte
garuu ulfinni si’iif hin ta’u; Waaqayyo dabarsee Siisaaraa harka dubartiitti kennaatii”
jetteen. Kanaafuu Debooraan Baaraaqi faana gara Qaadesh deemte; 10 Baaraaqis
achitti namoota gosa Zebuuloonii fi gosa Niftaalem walitti waame. Namoonni kuma
kudhan isa duukaa bu’an; Debooraanis isa faana deemte.

11 Yeroo sanatti Hebeer namichi gosa Qeen abbaan niitii Musee sun Qeenota
ilmaan Hoobaab kaan irraa citee Qaadesh biratti lafa Za’aanaaniim jedhamutti qilxuu
guddaa jala dunkaana isaa dhaabbatee ture.

12 Siisaaraan yommuu akka Baaraaqi ilmi Abiinoo’am sun gara Tulluu Taabooritti
ol ba’ee dhaga’etti, 13 gaariiwwan sibiilaa dhibba sagalii fi loltoota isaa kanneen
Harooshet Hagooyimii hamma Laga Qiishoonitti argaman hundumaa walitti qabate.

14 Kana irratti Debooraan Baaraaqiin, “Ka’i! Guyyaan Waaqayyo Siisaaraa dabarsee
harka keetti kenne har’a. Kunoo Waaqayyo si dura ba’eera” jette. Kanaafuu Baaraaqi
namoota kuma kudhan fudhatee Tulluu Taaboor irraa gad bu’e. 15 Waaqayyos
akka Siisaaraan, gaariiwwan isaatii fi loltoonni isaa hundinuu goraadeedhaan fuula
Baaraaqi duratti mo’atamanii duubatti deebi’an godhe; Siisaaraan gaarii isaa irraa
bu’ee miillaan baqate.

16 Baaraaqi garuu gaariiwwanii fi loltoota Siisaaraa hamma Harooshet Hagooy-
imiitti ari’e; loltoonni Siisaaraa hundinuu goraadeedhaan dhuman. Namni tokko
iyyuu hin hafne. 17 Siisaaraan garuu sababii Yaabiin mooticha Haazoorii fi Hebeer
namicha balbala Qeen sana gidduu hariiroon gaariin tureef gara dunkaana Yaa’eel
niitii Hebeer sanaatti miillaan baqate.

18 Yaa’eelis Siisaaraa simachuuf gad baatee, “Kottu yaa gooftaa koo; kottu ol seeni;
hin sodaatin” isaan jette. Innis dunkaana ishee seene; isheenis wayyaa isa irra
buuftee dhoksite.

19 Innis, “Ani dheebodheera; maaloo bishaan naa kenni” jedheen. Isheenis qabee
aannanii bantee waan inni dhugu kenniteefii isa dhoksite.

20 Innis, “Balbala dunkaanaa dura dhaabadhu; yoo eenyu iyyuu dhufee, ‘Namni as
jiraa?’ siin jedhe, ‘hin jiru’ jedhi” isheen jedhe.
21 Yaa’eel niitiin Hebeer garuu utuu Siisaaraan hirriba cimaa keessa jiruu qofoo
dunkaanaa fi burruusa fudhattee suuta jettee bira geesse. Qofoo sanaanis isa
waraantee lafatti hodhite; innis ni du’e.
22 Yommuu Baaraaqi Siisaaraa duukaa bu’ee dhufettis, Yaa’eel isa simachuudhaaf
gad baatee, “Kottu nama ati barbaaddu sittan argisiisaa” jetteen. Kanaafuu inni
ishee wajjin gara dunkaanichaatti ol seenee Siisaaraa akkuma illeen isaa qofoodhaan
waraanametti reeffa isaa arge.
23 Waaqnis gaafa sana akka Yaabiin mootiin Kana’aanotaa fuula Israa’elootaa
duratti mo’atamu godhe. 24 Harki Israa’elootaas hamma isaan Yaabiin mooticha
Kana’aanotaa galaafatanitti jajjabaachaa deeme.

# 5

*Faarfannaa Debooraa*

1 Gaafas Debooraa fi Baaraaqi ilmi Abiinoo’am akkana jedhanii faarfatan:
2 “Yommuu ilmaan moototaa Israa’elin hoogganan,
yommuu sabni Israa’elis jaallatee of kennutti
Waaqayyoon galateeffadhaa!

3 “Yaa mootota, waan kana dhaga’aa! Bulchitoonnis dhaggeeffadhaa!
Waaqayyoon nan faarfadha; amma illee nan faarfadha;
Waaqayyo Waaqa Israa’eliif nan weeddisa.

4 “Yaa Waaqayyo, yeroo ati biyya See’iirii baate,
yeroo ati biyya Edoomii kaate,
lafti ni sochoote; samiiwwanis bokkaa,
duumessoonnis bishaan gad roobsan.
5 Tulluuwwan fuula Waaqayyo Waaqa Siinaa duratti,
fuula Waaqayyo Waaqa Israa’el duratti ni raafaman.

6 “Bara Ilma Anaat, jabana Shamgaar,
bara Yaa’eel keessa daandiiwwan ni onan;
karaa deemtonnis daandii jajal’aa irra deeman.
7 Hamma ani Debooraan,
haadha ta’ee Israa’eliif ka’utti,
gandoonni Israa’el duwwaa hafu.
8 Yommuu isaan waaqota haaraa filatanitti,
waraanni hamma karra magaalaatti dhufe;
gaachanni yookaan eeboon tokko,
Israa’eloota kuma afurtama gidduutti hin argamne.
9 Garaan koo bulchitoota Israa’el kanneen fedhiidhaan
saba gidduutti argaman wajjin jira.
Waaqayyoon leellisaa!

10 “Isin warri harroota adaadii yaabbatan,
warri kooraa baladii qabu irra teessan,
warri karaa irra deemtan hubadhaa;
11 sagalee faarfattootaa dhaga’aa.
Isaan hojii qajeelummaa Waaqayyoo,

hojii qajeelummaa loltoonni isaa Israa’el keessatti godhan odeessu.

“Ergasii saboonni WAAQAYYOO,
gara karra magaalattiitti gad bu’an.
12 ‘Yaa Deebooraa! Dammaqi; dammaqi;
dammaqi; dammaqi; faarfannaas faarfadhu!
Yaa Baaraaqi! Dammaqi;
yaa ilma Abiinoo’am booji’amtoota kee booji’ii fudhadhu.’

13 “Namoonni hafanis, gara warra gurguddaatti gad bu’an;
sabni WAAQAYYOOS, akka loltuu jabaatti gara koo dhufe.
14 Warri hiddi isaanii Amaaleq keessa jiru tokko tokkos Efreem dhufan;
Beniyaamis namoota si duukaa bu’an wajjin ture.
Ajajjoonni loltoota Maakiir,
warri bokkuu ajajjuu qabatanis Zebuuloonii gad bu’an.
15 Hangafoonni Yisaakor Deebooraa wajjin turan;
Yisaakoris Baaraaqi wajjin ture;
innis Baaraaqi wajjin gara sululaatti gad bu’e.
Gosa Ruubeen gidduu,
qorannoo yaadaa guddaatu ture.
16 Ati maaliif mar’achuu isaanii dhaga’uuf jettee
gola bushaayee keessa turte?
Gosa Ruubeen gidduu,
qorannoo yaadaa guddaa isaatu ture.
17 Gili’aad Yordaanos gama taa’e;
Daan maaliif dooniiwwan keessatti hafe?
Aasheer qarqara galaanaatti hafe;
buufata isaa keessas ture.
18 Sabni Zebuuloon du’aaf of saaxile;
Niftaalemis gaarran biyya isaa irratti akkasuma godhe.

19 “Mootonni dhufanii lolan;
mootonni Kana’aanis Ta’anaakitti
bishaanota Megidoo biratti lolan;
boojuu meetii tokko illee hin fudhanne.
20 Samii keessaa urjiiwwan ni lolan;
adeemsa isaanii irrattis Siisaaraadhaan lolan.
21 Lagni durii, lagni Qiishoon,
lagni Qiishoon sun haxaa’ee isaan fudhate.
Yaa lubbuu ko, jabaadhuu fuul duratti deemi!
22 Kotteen fardeenii guddisee didiche;
ni gulufan; jabeessaniis gulufan.
23 Ergamaan WAAQAYYOOS, ‘Meerozin abaaraa.
Saba ishees jabeessaatii abaaraa;
akka WAAQAYYO warra jajjabootti ka’u gargaaruudhaaf,
isaan WAAQAYYOON gargaaruudhaaf hin dhufneetii’ jedhe.

24 “Yaa’eel niitiin Hebeer Qeenichaa sun
dubartoota hunda keessaa haa eebbifamtu;
isheen dubartoota dunkaana keessa jiraatan hunda keessaa haa eebbifamtu.

25 Inni bishaan kadhate; isheen immoo aannan kenniteef;
qabee ulfinaatti itittuu dhi’eessiteef.
26 Harka ishee gara qofoo dunkaanaatti hiixatte;
harka ishee mirgaatiin burruusa fudhatte;
isheenis Siisaaraa dhooftee mataa isaa buruqsite;
waraantees illee isaa keessa fullaafte.
27 Innis miilla ishee jalatti gombifame;
kufee diriires.
Miilla ishee jalatti gombifame; ni kufe;
iddoo gombifamettis kufee du’e.

28 “Haati Siisaaraa foddaa keessaan gad ilaalte;
qaawwa keessaanis iyyitee,
‘Gaariin isaa maaliif dhufuuf lafa irra harkifate?
Didichuun gaariiwwan isaa maaliif ture?’ jette.
29 Dubartoota ishee keessaa isheen ogeettiin deebii kenniteef;
ta’us isheen ofuma isheetiin deebiftee,
30 ‘Isaan boojuu argatanii addaan qoodachuutti jiru mitii?
Tokkoon tokkoon namaa dubartii tokko tokko
yookaan lama lama argata mitii?
Siisaaraadhaaf uffanni boojuu kan halluudhaan faayeffame,
uffanni halluudhaan miidhagfamee hodhame,
morma kootiif immoo uffata akka malee
miidhagfamee hodhame qoodu mitii?
Kun hundi boojuu dha.’

31 “Kanaafuu yaa Waaqayyo, diinonni kee hundi haa barbadaa’ani!
Warri si jaallatan garuu akka biiftuu,
ishee humna guutuun baatu sanaa haa ta’an.”
Ergasii biyyattiin waggaa afurtama nagaa argatte.

# 6

*Gidewoon*

1 Israa’eloonni fuula Waaqayyoo duratti waan hamaa hojjetan; innis dabarsee
waggaa torbaaf harka Midiyaanotaatti isaan kenne. 2 Israa’eloonni sababii harki
Midiyaanotaa isaanitti jabaateef tulluuwwan irratti, holqaa fi da’annoo jabaa
keessatti ofii isaaniitiif iddoo jiraatanii fi iddoo itti da’atan qopheeffatan. 3 Yeroo
Israa’eloonni midhaan facaafatan hunda Midiyaanonni, Amaaleqoonnii fi namoonni
ba’a biiftuu kaan dhufanii isaan weeraru turan. 4 Achis qubatanii midhaan hamma
Gaazaatti jiru hundumaa balleessan; isaan waan lubbuu qabu hoolota, loon yookaan
harroota tokko illee Israa’elootaaf hin hambifne. 5 Akkuma tuuta hawwaannisaattis
horii fi dunkaana isaanii fudhatanii isaan irra yaa’an. Namootaa fi gaalawwan isaanii
lakkaa’uun hin danda’amu ture; isaanis biyya sana barbadeessuudhaaf weeraran.
6 Sababii Midiyaanonni akka malee isaan hiyyoomsaniif Israa’eloonni gargaarsa
barbaacha gara Waaqayyootti iyyatan.

7 Yeroo Israa’eloonni sababii Midiyaanotaatiif gara Waaqayyootti iyyatanitti, 8 inni
raajii akkana jedhee dubbatu tokko isaaniif erge; “Waaqayyo Waaqni Israa’el akkana
jedha: Ani biyya Gibxi, biyya garbummaatii baaseen isin fide. 9 Ani humna
warra Gibxii fi harka cunqursitootaa jalaa isin furee fuula keessan duraas ari’ee
isaan baasee biyya isaanii isinii kenneera. 10 Isiniinis, ‘Ani Waaqayyo Waaqa

keessan; waaqota Amoorotaa kanneen isin biyya isaanii keessa jiraattan sanaa hin
waaqeffatinaa' jedheera. Isin garuu sagalee koo hin dhageenye."

11 Ergamaan WAAQAYYOOS ganda Ofraa jedhamu dhufee qilxuu Yoo'aash namicha
sanyii Abii'ezer sanaa jala taa'e; Gidewoon ilmi Yoo'aash immoo akka Midiyaanonni
hin argineef iddoo wayiniin itti cuunfamutti dhoksee qamadii dha'ata ture.
12 Ergamaan WAAQAYYOOS isatti mul'atee, "Yaa loltuu goota nana, WAAQAYYO si wajjin
jira" jedheen.

13 Gidewoon garuu akkana jedhee deebise; "Garuu yaa gooftaa, utuu WAAQAYYO
nu wajjin jiraatee wanni kun hundi maaliif nurra ga'a? Dinqiiwwan isaa kanneen
abbootiin keenya, 'WAAQAYYO biyya Gibxiitii nu baaseera' jedhanii nutti himan sun
hundi eessa jiru ree? Amma garuu WAAQAYYO nu dhiisee harka Midiyaanotaatti
dabarsee nu kenneera."

14 WAAQAYYO gara Gidewoonitti garagalee, "Humna qabdu kanaan dhaqiitii harka
Midiyaanotaa jalaa Israa'eloota bilisa baasi. Anatu si ergaa jira mitii?" jedheen.

15 Gidewoon garuu, "Yaa Gooftaa, gosti koo sanyii Minaasee keessaa baay'ee
dadhabaa dha; anis maatii koo keessaa nama gad aanaa dha. Egaa ani akkamittin
saba Israa'el bilisoomsuu danda'a ree?" jedhee gaafate.

16 WAAQAYYOS, "Ani si wajjin jira; atis Midiyaanota hunda walitti qabdee dhoofta"
jedhee deebiseef.

17 Gidewoonis akkana jedhee deebise; "Yoo ani fuula kee duratti surraa argadhee
jiraadhe, kan natti dubbachaa jiru dhugumaan si'i ta'uu mallattoo na argisiisi.
18 Maaloo hamma ani deebi'ee aarsaa koo fidee fuula kee duratti dhi'eessutti hin
deemin."

WAAQAYYOS, "Ani hamma ati deebitutti sin eega" jedheen.

19 Gidewoon gara mana isaa deemee ilmoo re'ee tokko qalee qopheessee daakuu
iifii tokkoo fuudhee buddeena raacitii hin qabne tolche. Foon sanas gundoo irra
kaa'ee bishaan foon sanaa immoo okkoteetti naqee fiduudhaan qilxuu jalatti aarsaa
isaaf dhi'eesse.

20 Ergamaan Waaqaas, "Foonii fi Maxinoo kana fuudhiitii kattaa kana irra kaa'i;
bishaan isaa immoo dhangalaasi" jedhe. Gidewoonis akkasuma godhe. 21 Ergamaan
WAAQAYYOO sunis fiixee ulee harka isaa tureetiin foonii fi Maxinoo sana tuqe. Ibiddi
kattaa keessaa ba'ee foonii fi Maxinoo sana nyaate. Ergamaan WAAQAYYOOS fuula
isaa duraa dhabame. 22 Gidewoon yommuu akka ergamaa WAAQAYYOO arge beeketti,
"Wayyoo, yaa WAAQAYYO Gooftaa! Ani ifaan ifatti ergamaa WAAQAYYOO argeeraatii!"
jedhe.

23 WAAQAYYO garuu, "Nagaan siif haa ta'u! Hin sodaatin, ati hin duutuutii" jedheen.

24 Kanaafuu Gidewoon WAAQAYYOOF achitti iddoo aarsaa ijaaree, "WAAQAYYO Nagaa
dha" jedhee moggaase. Iddoon aarsaa kun hamma har'aatti lafa Abii'ezerootaa irra
iddoo Ofraa jedhamu dhaabateera.

25 WAAQAYYO halkanuma sana akkana isaan jedhe; "Karra loon abbaa keetii keessaa
korma lammaffaa kan waggaa torba guute tokko fuudhi. Iddoo aarsaa kan abbaan
kee Ba'aaliif tolche diigi; utubaa Aasheeraa kan isa bira dhaabames jigsi. 26 Fiixee
gaara kanaa irrattis WAAQAYYO Waaqa keetiif iddoo aarsaa bareedaa isaa tolchi.
Qoraan utubaa Aasheeraa kan jigsite sanattis fayyadamii korma lammaffaa sana
aarsaa gubamu godhiitii dhi'eessi."

27 Gidewoonis hojjettoota isaa keessaa nama kudhan fudhatee akkuma WAAQAYYO
isatti hime sana godhe. Garuu waan maatii isaatii fi namoota magaalaa sana jiraatan
sodaateef guyyaa adiin gochuu irra halkan filate.

28 Ganama barii yommuu namoonni magaalaa sanaa hirribaa ka'anitti iddoon
aarsaa Ba'aal diigamee, utubaan Aasheeraas kufee kormi lammaffaan iddoo aarsaa
haaraa tolfame sana irratti qalamee ture!

29 Isaanis, "Eenyutu waan kana hojjete?" jedhanii wal gaafatan.

Yommuu gad fageenyaan qoratanittis, "Gidewoon ilma Yoo'aashitu waan kana godhe" jedhan.

30 Namoonni magaalaa sanaas Yoo'aashiin, "Ilma kee gad baasi. Inni sababii iddoo aarsaa Ba'aal diigee utubaa Aasheeraas jigseef ajjeefamuu qaba" jedhan.

31 Yoo'aash garuu saba aariidhaan guutamee isa marse sanaan akkana jedhe; "Isin Ba'aaliif falmuu barbaaddu? Isas oolchuu feetuu? Namni isaaf falmu yoo jiraate inni ganama haa du'u! Ba'aal utuu dhugumaan Waaqa ta'ee yommuu namni tokko iddoo aarsaa isaa diigu inni of irraa dhowwuu danda'a ture."
32 Kanaafuu isaan sababii inni iddoo aarsaa isaa jalaa diigeef, "Ba'aal mataan isaa haa falmatu" jechuudhaan Gidewooniin, "Yerub-Ba'aal" jedhanii waaman.

33 Ergasiis Midiyaanonni hundi, Amaaleqoonnii fi namoonni karaa ba'a biiftuu humna isaanii walitti dabalatanii Yordaanos ce'uudhaan Sulula Yizri'eel keessa qubatan.
34 Hafuurri WAAQAYYOOS dhufee Gidewoon irra bu'e; innis akka Abii'ezeroonni isa duukaa bu'aniif waamuuf malakata afuufe.
35 Guutummaa Minaasee keessas ergamoota ergate; isaanis isa duukaa bu'uuf walitti qabaman; akkasumas gara Aasheer, Zebuuloonii fi Niftaalemitti ergate; isaanis jara simachuuf gad yaa'an.

36 Gidewoonis Waaqaan akkana jedhe; "Yoo ati akkuma waadaa galtetti harka kootiin Israa'el furte,
37 kunoo, ani wayyaa rifeensa hoolaa irraa hojjetame tokko oobdii irra nan diriirsa. Yoo rifeensa hoolaa sana qofa irra fixeensi bu'ee lafti immoo goggogaa ta'e, ani akka ati akkuma jette sana harka kootiin Israa'el furtu nan beeka."
38 Wanni sunis akkasuma ta'e. Gidewoonis guyyaa itti aanu ganamaan ka'e; yeroo inni wayyaa rifeensa hoolaa irraa hojjetame sana micciirettis bishaan waciitii guutuutu keessaa cuunfame.

39 Kana irratti Gidewoon Waaqaan, "Natti hin dheekkamin. Amma illee waan tokkon si gaafadha. Akka ani rifeensa hoolaa sana irratti yaalii biraa godhuuf naa eeyyami. Amma immoo rifeensa sana goggogsiitii fixeensa lafatti uffisi."
40 Waaqnis halkan sana akkasuma godhe. Rifeensa hoolaa sana qofatu goggogaa ture; lafti guutuun fixeemsaan haguugamee ture.

# 7

### *Gidewoon Midiyaanota Mo'ate*

1 Yerub-Ba'aal namichi Gidewoon jedhamu sunii fi namoonni isaa hundi ganama ka'anii burqaa Harood bira qubatan. Qubanni Midiyaanotaa iddoo namoonni Gidewoon qubatan sanaan karaa kaabaatiin gaara Mooree bira sulula keessa ture.
2 WAAQAYYOS Gidewooniin akkana jedhe; "Akka ani Midiyaanota dabarsee harka isaaniitti hin kennineef Israa'eloonni si wajjin jiran akka male baay'ee dha. Akka sabni Israa'el, 'Jabina kootu na oolche' jedhee natti hin koorreef,
3 'Namni sodaatee hollate kam iyyuu Tulluu Gili'aad dhiisee gara mana isaatti haa deebi'u' jedhiitii amma sabatti himi." Kanaafuu namoonni kuma digdamii lama deebi'anii kuma kudhan achitti hafan.

4 WAAQAYYO garuu Gidewooniin akkana jedhe; "Amma iyyuu namoota baay'eetu jira. Isaan fudhadhuutii gara bishaaniitti gad bu'i; ani achitti isaan gargari siif fo'a. Yoo ani, 'Inni kun si wajjin ni deema' jedhe, inni ni deema; yoo ani, 'Inni kun si wajjin hin deemu' jedhe garuu inni hin deemu."

5 Kanaafuu Gidewoon namoota gara bishaaniitti gad buuse. WAAQAYYOS achitti, "Warra akkuma sareetti arrabaan bishaan dhugan, warra jilbeenfatanii dhugan irraa gargari baasi" isaan jedhe.
6 Namoonni dhibba sadii konyee isaaniitiin waraabbatanii dhugan. Warri hafan hundi garuu dhuguuf jilbeenfatan.

7 WAAQAYYO Gidewooniin, “Ani namoota harka isaaniitiin dhugan dhibba sadan
kanaan si furee Midiyaanota dabarsee harka keetti nan kenna. Warri kaan hundi
gara qe’ee isaaniitti haa deebi’an” jedheen. 8 Kanaafuu Gidewoon akka Israa’eloonni
hafan hundi gara dunkaana isaaniitti deebi’an godhee namoota dhibba sadan garuu
turfate; isaanis warra kaan irraa galaa fi malakata fudhatan.

Qubanni Midiyaanotaas Gidewooniin gad sulula keessa ture. 9 Halkanuma sana
WAAQAYYO Gidewooniin akkana jedhe; “Ka’iitii qubata sanatti gad bu’i; ani dabarsee
harka keetti siifin kennaatii. 10 Ati yoo gad bu’uu sodaatte garuu tajaajilaa kee Fuuraa
wajjin gara qubata sanaatti gad bu’iitii 11 waan isaan dubbachaa jiran dhaga’i. Sana
booddee qubata sana rukutuudhaaf jabina ni argatta.” Kanaafuu innii fi tajaajilaan
isaa Fuuraan gara moggaa qubata sanaatti gad bu’an. 12 Midiyaanonni, Amaaleqoon-
nii fi namoonni ba’a biiftuutii dhufan hundi akkuma hoomaa hawwaannisaa walitti
gobbatanii sululicha keessa qubatanii turan. Baay’inni gaalawwan isaaniis akkuma
cirracha qarqara galaanaa lakkoobsa hin qabu ture.

13 Gidewoonis utuu namichi tokko waa’ee abjuu isaa michuu ofii isaatti himuu achi
ga’e. Namichi sunis akkana jedhe; “Ani abjuu tokko nan abjoodhe; kunoo maxinoon
garbuu tokko gangalachaa dhufee qubata Midiyaanotaa irra bu’e. Innis dhufee akka
dunkaanni jiguuf humnaan dha’e; dunkaanni sunis ni kufe.”

14 Michuun isaas deebisee, “Kun goraadee Gidewoon ilma Yoo’aash Israa’elichaati
malee waan biraa miti. Waaqnis Midiyaanotaa fi guutummaa qubata sanaa dabarsee
harka Gidewoonitti kenneera” jedhe.

15 Gidewoon yommuu abjuu sanaa fi hiikkaa isaa dhaga’etti Waaqaaf sagade.
Gara qubata Israa’elootaattis deebi’ee, “Ka’aa! WAAQAYYO qubata Midiyaanotaa
dabarsee harka keessanitti kenneeraa” jedhe. 16 Innis namoota dhibba sadan garee
sadiitti qooduudhaan, harka hunda isaaniitti malakataa fi okkotee guci keessa jiru
qabachiise.

17 Gidewoonis akkana isaaniin jedhe; “Na ilaalaa; waan ani hojjedhus hojjedhaa;
yommuu ani qarqara qubatichaatti dhi’aadhutti qalbeeffadhaatii waanuma ani
godhu godhaa. 18 Yeroo anii fi warri na wajjin jiran hundii malakata keenya afu-
ufnutti, isinis naannoo qubatichaa hundatti afuufaatii, ‘WAAQAYYOOF, Gidewooniifis’
jedhaa iyyaa.”

19 Gidewoonii fi namoonni isa wajjin turan dhibbi sun akkuma waardiyyoonni
wal geeddaraniin jalqaba eegumsa walakkaa halkaniitti qarqara qubata sanaa bira
ga’an. Isaanis malakata isaanii afuufanii okkotee harka isaanii jiru caccabsan.
20 Gareen sadanuu malakata isaanii afuufanii okkotee harka isaanii jiru caccabsan.
Harka bitaatti guca, harka mirgaatti immoo malakata afuufan qabatanii, “Goraadee
WAAQAYYOOTII fi Gidewoon!” jedhanii iyyan. 21 Tokkoon tokkoon namaas naannoo
qubatichaatti iddoo kennameef qabate; Midiyaanonni hundis iyyaa baqatan.

22 Yeroo malakanni dhibbi sadan sun afuufametti WAAQAYYO akka namni qubata
sana keessa ture tokko tokkoon goraadee isaa walitti luqqifatu godhe; raayyaan
waraanaas karaa Zereeraatiin gara Beet Shiixaatti, isa biras darbanii hamma daarii
Abeel Mehoolaa ishee Xabaati bira jirtu sanaatti baqatanii deeman. 23 Israa’eloonnis
Niftaalem, Aasheerii fi Minaasee hundumaa keessaa waamanii Midiyaanota of dura
ari’an. 24 Gidewoonis guutummaa biyya gaaraa Efreemitti ergamoota ergee, “Kottaa
Midiyaanotatti duulaatii bishaanota hamma Beet Baaraatti jiranii fi laga Yordaanos
isaan dursaatii qabadhaa” jedhe.

Kanaafuu namoonni Efreem hundi ba’anii bishaanota hamma Beet Baaraatti
jiranii fi laga Yordaanos qabatan. 25 Akkasumas hooggantoota Midiyaanotaa lamaan
jechuunis Hereebii fi Ze’eebin qabatan. Hereeb kattaa Hereeb biratti Ze’eeb immoo

iddoo wayinii itti cuunfan kan Ze'eebiitti ajjeesan. Isaanis Midiyaanota ari'anii mataa
Hereebii fi mataa Ze'eeb gara gama laga Yordaanos Gidewoonitti fidan.

# 8

## *Zaabiheelii fi Zalmunaa*

[1] Namoonni Efreem, "Ati maaliif akkana nu goote? Yeroo Midiyaanin dha'uuf
duultetti maaliif nu hin waamin?" jedhanii Gidewoon gaafatan. Akka malees isatti
dheekkaman.

[2] Inni immoo akkana jedhee deebiseef; "Wanni ani hojjedhe yoo waan isin
hojjettaniin wal bira qabame gatii maalii qaba? Qarmiin wayinii Efreem oomisha
wayinii Abii'ezer sana hunda hin caaluu? [3] Waaqni hooggantoota Midiyaanotaa
jechuunis Hereebii fi Ze'eebin dabarsee harka keessanitti kenneera. Egaa ani waan
isin hojjettaniin wajjin kan wal qixxaatu maal hojjechuun danda'a ture?" Yommuu
inni waan kana jedhettis aariin isaan isatti aaran ni qabbanaa'e.

[4] Gidewoonii fi namoonni isa wajjin turan dhibbi sadan dhufanii Yordaanos ce'an;
isaan akka malee dadhaban iyyuu ittuma fufanii jara ari'an. [5] Innis namoota Sukooti-
itiin, "Loltoota kootiif buddeena kennaa; isaan baay'ee na duraa dadhabaniiruutii;
ani amma iyyuu mootota Midiyaanotaa jechuunis Zebaa fi Zalmunaa ari'aa jira"
jedhe.

[6] Qondaaltonni Sukoot garuu, "Loltoota keetiif nu buddeena kan kenninu ati Zebaa
fi Zalmunaa harka keetti galfatteertaa?" jedhaniin.

[7] Gidewoonis deebisee, "Tole kaa, yommuu Waaqayyo dabarsee Zebaa fi Zalmunaa
harka kootti kennutti ani qoraattii gammoojjiitii fi arangamaadhaan foon keessan
ciccira" jedheen.

[8] Achiis gara namoota Phenuu'eel dhaqee akkuma warra duraa sana kadhatetti
isaanis gaafate; isaan garuu akkuma warri Sukoot deebisanitti deebii kennan.
[9] Kanaafuu inni namoota Phenuu'eeliin, "Ani yeroo mo'adhee deebi'utti gamoo kana
nan jigsa" jedhe.

[10] Yeroo sanatti Zebaa fi Zalmunaan loltoota isaanii kanneen kuma kudha shanitti
hedaman wajjin iddoo Qarqari jedhamu turan; isaan kunneenis loltoota namoota
ba'a biiftuutii walitti qabaman keessaa hafan hundaa dha; warri goraadee hidhatan
kumni kudha lama dhumanii turaniitii. [11] Gidewoonis karaa warra ba'a Noobaahiitii
fi Yogbihaatiin dunkaana keessa jiraatanii ba'ee loltoota homaa hin bir'atin dha'e;
raayyaan waraanaa sun of dagatee tureetii. [12] Mootonni Midiyaan lamaan jechuunis
Zebaa fi Zalmunaan ni baqatan; Gidewoon garuu ari'ee isaan qabate; loltoota isaaniis
gargari bittinneesse.

[13] Ergasii Gidewoon ilmi Yoo'aash karaa Malkaa Herees ba'ee duulaa gale. [14] Innis
dargaggeessa Sukoot tokko qabee qorate; dargaggeessi sunis maqaa qondaaltota
Sukootii fi maanguddoota magaalattii walumatti maqaa nama torbaatamii torba
barreessee kenneef. [15] Gidewoonis dhufee namoota Sukootiin, "Zebaa fi Zalmunaan
isin, 'Nu namoota kee warra dadhabaniif buddeena kan kenninu ati Zaabiheelii
fi Zalmunaa harka keetti galfatteertaa?' jettanii waa'ee isaanii natti qoostan
sun kunoo ti" jedhe. [16] Innis maanguddoota magaalaa sanaa fuudhee qoraattii
fi arangamaa gammoojjiitiin adabuudhaan namoota Sukootiitiif barumsa kenne.
[17] Gamoo Phenuu'eelis jigsee namoota magaalattii fixe.

[18] Ergasiis inni, "Namoonni isin Taabooritti fixxan warra akkamiitii?" jedhee Zebaa
fi Zalmunaa gaafate.

Isaanis, "Namootuma akka keessanii kanneen hundi isaanii ilmaan mootii
fafakkaatanii dha" jedhaniin.

[19] Gidewoonis deebisee, “Isaan obboloota koo ilmaanuma haadha kootii turan. Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, utuu isin isaan ajjeesuu baattanii ani isin hin ajjeesu ture”
jedhe. [20] Innis gara Yeteer ilma isaa hangaftichaatti garagalee, “Ka’iitii isaan fixi!” jedheen. Yeeteer garuu sababii ijoollee ta’eef sodaatee goraadee isaa hin luqqifanne.
[21] Ergasiis Zebaa fi Zalmunaan, “Ka’iitii atumti nu ajjeesi; ‘Jabinni namaa akkuma dhagna isaatii’ ” jedhaniin. Gidewoonis ka’ee isaan ajjeese; faaya morma gaalawwan isaaniis fudhate.

### *Efuudii Gidewoon*

[22] Namoonni Israa’elis Gidewooniin, “Ati waan harka Midiyaanotaa jalaa nu baafteef ati, ilmi keetii fi ilmi ilma keetii nu bulchaa” jedhan.
[23] Gidewoon garuu, “Ani isin hin bulchu; ilmi koos isin hin bulchu. WAAQAYYOTU
isin bulcha” isaaniin jedhe. [24] Innis, “Ani waa tokko isin kadhadha; kunis akka tokkoon tokkoon keessan qooda boojuu keessanii irraa lootii naa kennitanii dha” jedhe. Lootii warqee kaa’achuun bartee Ishmaa’eelootaa tureetii.
[25] Isaanis, “Nu gammachuudhaan kennina” jedhanii deebisan. Kanaafuu wayyaa lafa irra diriirsanii tokkoon tokkoon namaa boojuu isaa irraa lootii itti darbate.
[26] Amartiin warqee kan inni kadhate saqilii kuma tokkoo fi dhibba torba yookaan kiiloo giraamii kudha sagalii fi walakkaa ulfaata ture; kunis waan mormatti hidhatan, uffata diimaa dhiilgee kan mootonni Midiyaan uffatanii fi foncaa morma gaalawwan isaanii irra ture hin dabalatu. [27] Gidewoonis warqee sanaan dirata tolchee magaalaa itti dhalate Ofraa keessa kaa’e. Israa’eloonni hundis achitti efuudicha waaqeffachuudhaan sagaagalan. Kunis Gidewooniif maatii isaatti kiyyoo ta’e.

### *Gidewoon Du’uu Isaa*

[28] Midiyaanonnis akkasiin fuula Israa’elootaa duratti mo’ataman; lammatas mataa isaanii ol hin qabanne. Biyyattiinis bara Gidewoon keessa waggaa afurtama nagaa argatte.
[29] Yerub-Ba’aal ilmi Yoo’aash achi jiraachuuf gara mana ofii isaatti deebi’e. [30] Inni
sababii niitota baay’ee fuudheef ilmaan torbaatama qaba ture. [31] Saajjatoon isaa kan Sheekem keessa jiraachaa turtes ilma deesseefii turte; innis Abiimelek jedhee isa
moggaase. [32] Gidewoon ilmi Yoo’aash bara dheeraa jiraatee du’e. Innis Ofraa biyya Abii’ezerootaa keessatti, lafa awwaala abbaa isaa Yoo’aashitti awwaalame.
[33] Akkuma Gidewoon du’een Israa’eloonni amma illee Ba’aal wajjin sagaagalan.
Ba’aal Beriitinis Waaqa isaanii godhatanii [34] WAAQAYYO Waaqa isaanii kan harka
diinota isaanii hundumaa jalaa isaan baase sana dagatan. [35] Isaanis maatii Yerub-Ba’aaliif jechuunis Gidewooniif waan gaarii inni isaaniif godhe hunda yaadatanii arjummaa hin gooneef.

# 9

### *Abiimelek*

[1] Abiimelek ilmi Yerub-Ba’aal gara obboloota haadha isaa kanneen Sheekem keessa
jiraatanii dhaqee isaanii fi gosa haadha isaa hundaan akkana jedhe; [2] “Jiraattota
Sheekem hundumaan, ‘Kam isinii wayya? Yoo ilmaan Yerub-Ba’aal torbaatamni isin bulchan moo yoo namni tokko isin bulche wayya?’ jedhaa gaafadhaa. Akka ani foonii fi dhiiga keessan ta’e immoo yaadadhaa.”
[3] Obboloonni haadha isaas dubbii kana gurra Sheekemotaatiin ga’an; garaan isaaniis gara Abiimelek goruu kajeele; isaan, “Inni obboleessa keenya” jedhaniiruutii.
[4] Isaanis mana sagadaa Ba’aal Beriit keessaa meetii gara giraamii dhibba saddeet ulfaatu kennaniif; Abiimelekis meetii sanaan kashlabboota isa faana bu’an qaxarate.

[5] Gara mana abbaa isaa kan Ofraatti argamuu dhaqee obboloota isaa ilmaan Yerub-
Ba'aal torbaatama dhagaa tokko irratti qale. Yootaam ilmi Yiruuba'aal quxisuun
garuu dhokatee isa jalaa miliqe. [6] Namoonni Sheekemii fi Beet Miiloo hundi
Abiimelekin moosisuuf jedhanii Sheekemitti utubaa mukaa guddaa tokko biratti
walitti qabaman.
[7] Yootaam yommuu wanni kun itti himametti fiixee Gaara Gerziimitti ol ba'ee
sagalee guddaadhaan akkana isaaniin jedhe; "Yaa jiraattota Sheekem, akka Waaqni
isin dhaga'uuf na dhaggeeffadhaa. [8] Gaaf tokko mukkeen mootii moosifachuuf ba'an;
isaanis muka ejersaatiin, 'Mootii nuu ta'i' jedhan.
[9] "Mukni ejersaa garuu, 'Ani mukkeen hundaa olitti raafamuudhaaf jedhee zayitii
koo kan Waaqnii fi namni ittiin kabajaman dhowwadhuu ree?' jedhee deebise.
[10] "Itti aansaniis mukkeen muka harbuutiin, 'Kottuutii mootii nuu ta'i' jedhan.
[11] "Mukni harbuu garuu deebisee, 'Ani mukkeen hundaa olitti ba'ee raafamuuf
jedhee ija koo mi'aawaa fi gaarii sana kennuu dhiisuu ree?' jedhe.
[12] "Mukkeenis muka wayiniitiin, 'Kottuutii mootii nuu ta'i' jedhan.
[13] "Mukni wayinii garuu deebisee, 'Ani mukkeen hundaa olitti ba'ee raafamuuf
jedhe daadhii wayinii kootii kan Waaqaa fi nama gammachiisu sana kennuu dhiisuu?'
jedhe.
[14] "Dhuma irrattis mukkeen hundi muka qoraattiitiin, 'Kottuutii mootii nuu ta'i'
jedhan.
[15] "Mukni qoraattiis mukkeeniin, 'Isin yoo dhugumaan na moosifachuu feetan,
kottaatii gaaddisa koo jalatti da'eeffadhaa; yoo akkas ta'uu baate garuu ibiddi muka
qoraattii keessaa ba'ee birbirsa Libaanoon haa barbadeessu!' jedhe.
[16] "Egaa isin Abiimelekin moosisuun keessan yoo karaa dhugaatii fi amanamum-
maan ta'e, yoo Yerub-Ba'aalii fi maatii isaatiif waan gaarii gochuuf ta'e, yoo waan
isaaf malu isaaf gochuuf ta'e, [17] abbaan koo lubbuu isaa du'aaf saaxilee harka
Midiyaanotaa jalaa isin baasuuf isinii loleeraatii; [18] isin garuu har'a maatii abbaa
kootti kaatanii ilmaan isaa jechuunis nama torbaatama dhagaa tokko irratti qaltan;
sababii inni fira keessan ta'eef Abiimelek ilma garbittii sana namoota Sheekem irratti
moosiftan; [19] egaa yoo isin har'a dhugaa fi amanamummaadhaan Yerub-Ba'aalii fi
maatii isaatiif waan gaarii gootan, isin Abiimelekitti gammadaa; innis isinitti haa
gammadu! [20] Akkas ta'uu baannaan garuu ibiddi mana Abiimelekii ba'ee namoota
Sheekemii fi Beet Miiloo haa fixu; akkasumas ibiddi namoota Sheekemii fi Beet Miiloo
biraa ba'ee Abiimelekin haa balleessu!"
[21] Yootaamis Bi'eeritti baqatee sababii obboleessa isaa Abiimelekin sodaateef
achuma jiraate.
[22] Erga Abiimelek waggaa sadii Israa'el bulchee booddee, [23] Waaqnis Abiimelekii fi
namoota Sheekem gidduutti hafuura hamaa erge; Sheekemonnis Abiimelekitti daba
hojjetan. [24] Waaqnis yakka ilmaan Yerub-Ba'aal torbaataman sanatti hojjetamee fi
dhiiga isaanii kan dhangalaafame sanaaf, Abiimelek obboleessa isaanii kan isaan qale
sanaa fi namoota Sheekem kanneen akka inni obboloota isaa fixuuf isa gargaaran
sana haaloo ba'uuf waan kana godhe. [25] Namoonni Sheekemis akka isaan riphanii
isa eegataniif fiixee gaaraa irra namoota kaa'atan; isaanis nama achiin darbu hunda
saamaan; wanni kunis Abiimelekitti odeeffame.
[26] Yeroo kanatti Ga'aal ilmi Ebeed obboloota isaa wajjin gara Sheekem dhufe;
Sheekemonnis isa abdatan. [27] Isaanis erga gara lafa qotiisaa wayiniitti ba'anii
wayinii walitti qabatanii booddee cuunfanii galma waaqa tolfamaa isaaniitti ayyaana
ayyaaneffatan. Nyaatanii dhuganiis Abiimelekin abaaran. [28] Ga'aal ilmi Ebeedis
akkana jedhe; "Akka nu isaaf bulluuf Abiimelekii fi Sheekem eenyu? Abiimelek
ilma Yerub-Ba'aal mitii? Zebulis itti aanaa isaa mitii? Isin namoota Hamoor abbaa

Sheekem tajaajilaa! Nu maaliif Abiimelekin tajaajillaa? 29 Utuu sabni kun ajaja
koo jala jiraatee silaa ani Abiimelekin lafa irraa nan balleessa ture; 'Waraana kee
dabaladhuutii gad ba'i!' isaan nan jedhas ture."

30 Zebul bulchaan magaalattii yeroo waan Ga'aal ilmi Ebeed jedhe dhaga'etti akka
malee aare. 31 Akkana jedhees dhoksaadhaan gara Abiimelekitti ergamoota erge;
"Ga'aal ilmi Ebeedii fi obboloonni isaa gara Sheekem dhufanii saba magaalaa sitti
kakaasaa jiru. 32 Kanaafuu atii fi namoonni kee halkaniin baatanii lafa qotiisaa keessa
riphuu qabdu. 33 Ganama akkuma aduun baateenis magaalaa sana cabsaa seenaa.
Yommuu Gala'aalii fi namoonni isaa sitti dhufanittis waan harki kee hojjechuu malu
kam iyyuu hojjedhu."

34 Abiimelekis namoota isa wajjin turan hunda wajjin halkaniin ka'ee garee afuritti
qoodamuudhaan Sheekemitti dhi'aatee riphe. 35 Akkuma Ga'aal ilmi Ebeed ba'ee
karra magaalaa sanaa irra dhaabateen, Abiimelek namoota isaa wajjin iddoo riphee
ture sanaa itti gad ba'e.

36 Ga'aal yommuu isaan argetti Zebuliin, "Kunoo namoonni fiixee gaarranii irraa
gad dhufaa jiru!" jedhe.

Zebulis deebisee, "Gaaddisa tulluuwwaniitu namoota sitti fakkaate" jedheen.

37 Ga'aal garuu ammas deebisee, "Ilaali; namoonni handhuura lafaatii dhufaa jiru;
gareen tokkos karaa muka abdaariitiin dhufaa jira" jedhe.

38 Zebulis, "Ati kan, 'Akka nu isaaf bulluuf Abiimelek kun eenyu?' jette, oduun kee
sun amma meerre? Namoonni ati tuffatte isaan kana mitii? Mee ba'iitii jara loli kaa!"
jedheen.

39 Kanaafuu Ga'aal namoota Sheekem hooggane Abiimelekin loluuf ba'e.
40 Abiimelekis isa ari'e; innis duraa baqate; namoonni baay'eenis madaa'anii hamma
karra magaalattiitti harca'an. 41 Abiimelek Aruumaa keessa ture; Zebul immoo
Ga'aalii fi obboloota isaa ari'ee Sheekem keessaa baase.

42 Guyyaa itti aanu namoonni Sheekem dirreetti ba'an; wanni kunis Abiimelekitti
himame. 43 Innis namoota isaa fudhatee garee sadiitti qoodee dirree irratti riphee
eeggate. Yeroo namoota magaalaa ka'anii dhufaa jiran argettis isaan loluudhaaf ka'e.
44 Abiimelekii fi gareen isa wajjin turan gara karra magaalattiitti gugatan. Gareen
hafan lamaan immoo gara warra dirree irratti ba'anii turaniitti fiiganii isaan fixan.
45 Abiimelek gaafas guyyaa guutuu lolee magaalattii qabate; jiraattota ishees fixee
magaalattii illee barbadeessee soogidda itti facaase.

46 Namoonni gamoo Sheekem keessa jiraatan yommuu waan kana dhaga'anitti
gara da'annoo mana sagadaa Elbiriititti ol galan. 47 Abiimelekis yommuu akka
namoonni Sheekem achitti walitti qabaman dhaga'etti, 48 namoota isaa hundumaa
wajjin Tulluu Zalmoonitti ol ba'e. Abiimelekis qottoo harkatti qabatee dameewwan
mukaa mummuree ol fuudhee gatiittii isaatti baate. Namoota isa wajjin jiraniinis,
"Dafaa! Waanuma anaa godhu argitan sana godhaa!" jedhe. 49 Namoonni hundinuus
dameewwan mukaa mummuratanii Abiimelekin duukaa bu'an. Dameewwan sanas
da'annoo Sheekemonni itti baqatan sanatti irkisanii ibidda itti qabsiisan. Kanaafuu
namoonni gamoo Sheekem keessa turan hundinuu dhiironnii fi dubartoonni gara
kuma tokko ta'an dhuman.

50 Ergasiis Abiimelek gara Tebez dhaqee magaalaa sana marsee qabate. 51 Ta'us
waan gamoon jabaan tokko magaalaa sana keessa tureef jiraattonni magaalaa sanaa
dhiiraa dubartiin utuu hin hafin itti baqatan. Keessaanis ofitti cufanii bantii isaatti ol
ba'an. 52 Abiimelekis dhufee gamoo sana dha'e; yommuu inni ibiddaan gubuudhaaf
balbala gamoo sanaatti dhi'aatetti garuu, 53 dubartiin tokko gubbaadhaa majii dhagaa
itti gad dhiiftee buqqee mataa isaa cabsite.

54 Innis dafee dargaggeessa mi’a lolaa baatuuf tokko waamee, “Akka isaan,
‘dubartiitu isa ajjeese’ jechuu hin dandeenyeef goraadee kee luqqifadhuu na ajjeesi”
jedheen. Kanaafuu dargaggeessi sun isa waraane; innis ni du’e. 55 Israa’eloonnis
yommuu akka Abiimelek du’e arganitti gara mana isaaniitti deebi’an.
56 Akkasiin Waaqni hammina Abiimelek obboloota isaa torbaatama qaluudhaan
abbaa ofiitti hojjeteef gatii hojii isaa kenneef. 57 Akkasumas Waaqni hammina
namoonni Sheekem hojjetan hunda matuma isaaniitti deebise. Abaarsi Yootaam ilma
Yerub-Ba’aalis isaan irra ga’e.

# 10

*Toolaa*

1 Erga Abiimelek du’ee booddee namichi gosa Yisaakor, Toolaan ilmi Phuwaa
ilmi Doodoo Israa’el baraaruuf ka’e. Innis biyya gaaraa Efreem keessa Shaamiir
jiraate. 2 Tolaan waggaa digdamii sadii Israa’elin bulche; ergasiis du’ee Shaamiiritti
awwaalame.

*Yaa’iir*

3 Isatti aanee Yaa’iir namichi gosa Gili’aad ka’ee waggaa kudha lama Israa’elin
bulche; 4 innis ilmaan soddoma kanneen harroota soddoma yaabbatan qaba
ture. Isaanis magaalaawwan hamma har’aatti gandoota Yaa’iir jedhaman soddoma
Gili’aad keessaa qabu turan. 5 Yaa’iiris du’ee Qaamonitti awwaalame.

*Yiftaa*

6 Ammas Israa’eloonni fuula Waaqayyoo duratti waan hamaa hojjetan. Ba’aalii
fi Ashtooreti akkasumas waaqota Sooriyaa, Siidoonaa, Mo’aab, Amoonii fi kan
Filisxeem waaqeffatan. Waan Israa’eloonni Waaqayyoon dhiisanii isa waaqeffachuu
didaniif, 7 inni isaanitti dheekkame. Dabarsees harka Filisxeemotaatii fi Amoono-
taatti isaan gurgure; 8 isaanis bara sana ijoollee Israa’el gad cabsanii cunqursan.
Israa’eloota biyya Amoorotaa kan Gili’aad keessa karaa ba’aatiin laga Yordaanos bira
jiraatan hundumaa waggaa kudha saddeet akka malee cunqursan. 9 Amoononnis
gosa Yihuudaa, gosa Beniyaamii fi mana Efreem waraanuudhaaf laga Yordaanos
ce’an. Israa’eloonnis akka malee raafaman. 10 Kanaafuu Israa’eloonni, “Nu si
Waaqa keenya dhiifnee Ba’aal waaqeffachuudhaan yakka sitti hojjenneerra” jedhanii
Waaqayyotti iyyatan.
11 Waaqayyos akkana jedhee deebiseef; “Yeroo warri Gibxi, Amooronni,
Amoononni, Filisxeemonni, 12 Siidoononni, Amaaleqoonnii fi Maa’oononni isin
cunqursinaan isin natti iyyattanitti ani harka isaanii jalaa isin hin baafnee? 13 Isin
garuu na dhiiftanii waaqota biraa waaqeffattan; kanaafuu ani si’achi isin hin baasu.
14 Deemaatii waaqota filattan sanatti iyyadhaa. Yommuu isin rakkattan isaanumti
isin haa oolchan!”
15 Israa’eloonnis Waaqayyoon, “Nu cubbuu hojjenneera. Ati waan feete nu godhi;
amma garuu maaloo nu baasi” jedhan. 16 Isaanis waaqota ormaa gidduu isaaniitii
balleessanii Waaqayyoon waaqeffatan. Innis ergasii dhiphina Israa’el cal’isee ilaaluu
hin dandeenye.
17 Yeroo Amoononni Gili’aaditti wal ga’anitti Israa’eloonnis wal ga’anii Miisphaa
qubatan. 18 Hooggantoonni namoota Gili’aadis, “Namni jalqabatti Amoonotatti
waraana banu inni jiraattota Gili’aad hundaaf hoogganaa ta’a” waliin jedhan.

# 11

1 Yiftaan namichi gosa Gili’aad sun goota ture. Abbaan isaa Gili’aad jedhama;
haati isaa immoo sagaagaltuu turte. 2 Niitiin Gili’aadis Gili’aadiif ilmaan deesse;
isaanis yommuu guddatanitti Yiftaadhaan, “Ati waan dubartii biraa irraa dhalatteef

dhaala tokko illee maatii keenya irraa hin argattu" jedhanii isa ari'an. 3 Kanaafuu
Yiftaan obboloota isaa duraa baqatee biyya Xoob jedhamu keessa jiraate; gareen
kashlabbootaa naannoo isaatti walitti qabamanii isa duukaa bu'an.

4 Yeroo xinnoo booddee, yommuu Amoononni saba Israa'elitti waraana kaasanitti,
5 maanguddoonni Gili'aad Yiftaa barbaacha gara Xoob deeman. 6 Isaanis, "Akka nu
Amoonota waraanuu dandeenyuuf kottuu ajajaa nuu ta'i" jedhaniin.

7 Yiftaanis, "Isin na jibbitanii mana abbaa kootii na hin ariinee? Amma yommuu
rakkattan maaliif na bira dhuftu?" isaaniin jedhe.

8 Maanguddoonni Gili'aadis, "Nu sababii kanaaf gara kee dhufneerra; Amoonota
waraanuudhaaf nu faana kottu; nu warra Gili'aad keessa jiraannu hunda irrattis
hoogganaa ni taataa" jedhaniin.

9 Yiftaanis, "Yoo isin akka ani Amoonota waraanuuf biyya kootti na deebiftanii
WAAQAYYOS dabarsee harka kootti isaan kenne, dhugumaan ani hoogganaa keessan
nan ta'aa?" jedheen.

10 Maanguddoonni Gili'aadis deebisanii, "WAAQAYYO dhuga ba'aa keenya; dhugu-
maan nu akkuma ati jette goona" jedhaniin. 11 Kanaafuu Yiftaan maanguddoota
Gili'aad wajjin qajeele; sabni Gili'aadis hoogganaa fi abbaa duulaa isa godhate. Innis
iddoo Miisphaa jedhamutti waan duraan dubbate hundumaa irra deebi'ee fuula
WAAQAYYOO duratti dubbate.

12 Yiftaan gara mootii Amoonotaatti ergamoota ergee, "Ati kan biyya keenya
waraantuuf rakkina maalii nurraa qabda?" jedheen.

13 Mootiin Amoonotaas ergamoota Yiftaatiin, "Sababii Israa'eloonni yeroo Gibxii
ba'anitti biyya koo kan Arnoonii fi Yaaboq gidduu jiruu fi biyya koo kan hamma
Yordaanositti jiru fudhataniif ani waan kana godheera; kanaafuu amma karaa
nagaan naa deebisaa" jedhe.

14 Yiftaanis gara mootii Amoonotaatti deebisee ergamoota isaa erge; 15 akkanas
jedhe:

"Yiftaan akkana jedha: Israa'el biyya Mo'aab yookaan biyya Amoonota hin
fudhanne. 16 Garuu yeroo Gibxii ba'anitti Israa'eloonni gammoojjii keessa gara
Galaana Diimaa, achii immoo gara Qaadesh dhufan. 17 Israa'elis gara mootii
Edoomitti, 'Akka ani biyya kee keessaan darbu naa eeyyami' jedhee ergamoota
erge; mootiin Edoom garuu hin dhageenye. Gara mootii Mo'aabittis akkasuma
ergan; inni illee ni dide. Kanaafuu Israa'el Qaadesh keessa ture.

18 "Itti aansees gammoojjii keessa darbee biyya Edoomii fi biyya Mo'aab irra
naanna'ee karaa ba'a biyya Mo'aabiin darbee gama kaaniin Arnoon cina qubate.
Garuu sababii Arnoon daarii Mo'aab turteef isaan biyya Mo'aab hin seenne ture.

19 "Ergasiis Israa'el Sihoon mooticha Amoorotaa kan Heshboon bulchaa ture
sanatti ergamoota ergee, 'Akka nu biyya kee keessa gara biyya keenyaatti dabarru
nuu eeyyami' jedheen. 20 Sihoon garuu akka inni karaa biyya isaatiin darbu
Israa'elin hin amanne. Kanaafuu inni namoota isaa walitti qabatee Yaahizaa keessa
qubatee Israa'elin lole.

21 "WAAQAYYO Waaqni Israa'elis Sihoonii fi namoota isaa hunda dabarsee harka
Israa'elitti kenne; Israa'eloonnis jara mo'atan; kanaafuu Israa'eloonni biyya
Amoorota achi jiraatan hundaa fudhatan; 22 qabeenya biyya Amoor kan Arnoonii
hamma Yaaboqitti akkasumas kan gammoojjii hamma Yordaanositti jiru hunda
fudhatan.

23 "Yoos erga WAAQAYYO Waaqni Israa'el fuula saba Israa'el duraa Amoorota
ari'ee baasee ati fudhachuudhaaf mirga maalii qabdaa? 24 Ati waan Kemoosh
Waaqni kee siif kennu hin fudhattuu? Nus akkasuma waan WAAQAYYO Waaqni
keenya nuu kenne kam iyyuu ni fudhanna. 25 Ati Baalaaq mootii Mo'aab ilma

Ziphoori sana ni caaltaa? Inni takkumaa Israa'el waraaneeraa? Yookaan loleeraa?
26 Israa'eloonni waggaa dhibba sadii Heshboon, Aro'eer, qubatawwan naannoo
sanaatii fi magaalaawwan naannoo Arnoon qabatanii turaniiru. Ati yeroo sanatti
maaliif deebiftee hin fudhatin? 27 Ani yakka sitti hin hojjenne; ati garuu waraana
natti kaasuudhaan na miiteerta. Kanas WAAQAYYO, abbaan murtii ammuma kana
ka'ee Israa'elootaa fi Amoonota gidduutti murtii haa kennu."
28 Mootiin Amoonotaa garuu ergaa Yiftaan isatti ergeef gurra hin kennine.

29 Kana irratti Hafuurri WAAQAYYOO Yiftaa irra bu'e. Innis Gili'aadii fi Minaasee
keessa darbee Miisphaa ishee Gili'aad keessa jirtu sana keessa qaxxaamuree
Amoonotatti duule. 30 Yiftaan akkana jedhee WAAQAYYOOF wareege; "Yoo ati
Amoonota dabarsitee harka kootti kennite, 31 yommuu ani mo'adhee deebi'utti wanni
mana kootii na simachuudhaaf jalqabatti ba'uu kam iyyuu kan WAAQAYYOO ti; anis
qalma gubamu godhee isa nan dhi'eessa."

32 Ergasiis Yiftaan Amoonota waraanuuf ba'e; WAAQAYYOS isaan dabarsee harka
isaatti kenne. 33 Innis Aro'eerii jalqabee magaalaawwan digdama hamma naannoo
Miiniititti akkasumas hamma Abeel Keraamiimitti argaman guutumaan guutuutti
barbadeesse. Amoononnis akkasiin Israa'elootaaf bulan.
34 Yeroo Yiftaan gara Miisphaatti mana isaatti deebi'etti, intalli isaa dibbee rukutaa
sirbaa isa simachuuf baate! Isheen intala tokkittii inni qabu turte. Inni ishee malee
ilmas ta'u intala biraa hin qabu ture. 35 Innis yommuu ishee argetti wayyaa isaa
tarsaasee, "Wayyoo! Yaa mucattii koo! Na balleessite; dhiphina keessa na galchite;
ani wareega cabsuu hin dandeenye WAAQAYYOOF wareegeeraatii" jedhee boo'e.

36 Isheenis akkana jette; "Yaa abbaa ko, ati WAAQAYYOOF kakatteerta; sababii
WAAQAYYO diinota kee Amoonota haaloo siif ba'eef, ati waan waadaa galte sana anaan
guutadhu. 37 Garuu waan tokko naa eeyyami; sababii ani si'achi hin heerumneef akka
ani michoota koo wajjin gaarran irra naanna'ee durbummaa kootiif boo'uuf ji'a lama
naa kenni."
38 Innis, "Dhaquu dandeessa" jedheen. Akka isheen ji'a lamaaf deemtus eeyyameef.
Isheenis waan si'achi heerumuu hin dandeenyeef dubarran michoota ishee wajjin
gaarranitti ol baatee boosse. 39 Ji'a lamaa booddees gara abbaa isheetti deebite; innis
akkuma wareege sana godhe. Isheen durba turte.

Yeroo sanaa jalqabee wanni kun Israa'eloota biratti bartee ta'ee 40 durboonni
Israa'el wagguma waggaan ba'anii guyyaa afur intala Yiftaa namicha Gili'aad sanaa
gaddaan yaadatu.

# 12

*Yiftaa fi Efreem*

1 Namoonni Efreem walitti qabamanii Daafoon ce'uudhaan Yiftaan, "Ati yeroo
Amoonota loluuf baatetti maaliif akka nu si faana deemnuuf nu hin waamne? Nu
mana kee sirratti gubna" jedhaniin.

2 Yiftaanis akkana jedhee deebiseef; "Anii fi namoonni koo Amoonota loluuf
waraana guddaa keessa gallee turre; yommuu ani isin waametti isin harka isaaniitii
na hin baafne. 3 Ani yeroo akka isin na hin baafne argetti lubbuu kootti muree
Amoonota waraanuuf nan ce'e; WAAQAYYOS isaan irratti mo'annaa naa kenne. Yoos
isin har'a maaliif na loluuf dhuftan ree?"
4 Yiftaanis ergasii namoota Gili'aad walitti waammatee Efreemitti lola kaase.
Sababii namoonni Efreem warra Gili'aadiin, "Isin Gili'aadonni warra Efreemii
fi Minaasee gantanii dha" jedhaniif Gili'aadonni isaan dha'an. 5 Gili'aadonni
malkaawwan Yordaanos kanneen gara Efraataatti geessan qabatan; yeroo baqataan
Efraataa tokko, "Ani gamattin ce'a" jedhutti, namoonni Gili'aad, "Ati nama Efreem

mitii?” jedhanii isa gaafatu. Yoo inni, “Waawuu” jedhee deebise, 6 isaan, “Gaarii dha;
ati, ‘Shiiboleeti’ jedhi” jedhaniin. Yoo inni, “Siiboleeti” jedhe, sababii inni qajeelatti
“Shiiboleeti” jechuu hin dandeenyeef qabanii malkaawwan Yordaanos irratti isa
ajjeesu. Yeroo sanatti namoota Efreem kuma afurtamii lamatu ajjeefame.
7 Yiftaan waggaa ja’a Israa’elin bulche. Ergasii Yiftaan namni Gili’aad sun du’ee
magaalaa Gili’aad keessaa tokkotti awwaalame.

### *Iibxaan, Eloomii fi Abdoon*

8 Isaan duubas Ibzaan namichi Beetlihem sun Israa’elin bulche. 9 Innis ilmaan
soddomaa fi intallan soddoma qaba ture; intallan isaas warra gosa isaa hin ta’initti
heerumsiise; ilmaan isaatiifis akka isaan niitota ta’aniif gosa biraa keessaa durboota
soddoma fide. Ibxaan waggaa torba Israa’el bulche. 10 Ibzaanis du’ee Beetlihem
keessatti awwaalame.
11 Isa booddee Eeloon namichi gosa Zebuuloon sun waggaa kudhan Israa’elin
bulche. 12 Eeloonis du’ee biyya Zebuuloon keessatti Ayaaloonitti awwaalame.
13 Isatti aanee immoo Abdoon ilmi Hileel namichi Phiraatoon sun Israa’elin bulche.
14 Innis ilmaan afurtamaa fi ilmaan ilmaanii soddoma kanneen harroota torbaatama
yaabbatan qaba ture. Inni waggaa saddeeti Israa’elin bulche. 15 Ergasiis Abdoon
ilmi Hileel du’ee biyya gaaraa Amaaleqootaatti Efreem keessatti Phiraatoonitti
awwaalame.

## 13

### *Dhalachuu Saamsoon*

1 Israa’eloonni ammas fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjetan; kanaafuu
WAAQAYYO waggaa afurtama dabarsee harka Filisxeemotaatti isaan kenne.
2 Namicha gosa Daan keessaa dhalatee Zoraa jiraatu kan Maano’aa jedhamu
tokkotu ture; niitiin isaas dhabduu ijoollee tokko illee hin qabne turte. 3 Ergamaan
WAAQAYYOOS isheetti mul’atee akkana jedheen; “Kunoo ati dhabduu ijoollee hin
qabnee dha; garuu ulfooftee ilma deessa. 4 Egaa ati akka daadhii wayinii yookaan
dhugaatii nama macheessu hin dhugne yookaan waan xuraa’aa tokko illee hin
nyaanne of eeggadhu; 5 ati ulfoofte ilma da’uuf jirtaatii. Qarabaan tokko iyyuu mataa
isaa hin tuqin; inni gaafa dhalatee jalqabee Naaziricha ta’uudhaan kan Waaqaaf
addaan baafame ta’aatii; inni harka Filisxeemotaatii Israa’eloota furuu jalqaba.”
6 Dubartiin sunis gara dhirsa ishee dhaqxee akkana jettee itti himte; “Nama Waaqaa
tokkotu gara koo dhufe. Innis ergamaa Waaqayyoo fakkaatee akka malee nama
sodaachisa. Ani akka inni eessaa dhufe isa hin gaafanne; innis maqaa isaa natti hin
himne. 7 Garuu inni, ‘Ati ulfooftee ilma deessa. Egaa si’achi daadhii wayinii yookaan
dhugaatii nama macheessu hin dhugin; waan xuraa’aas hin nyaatin; sababiin isaas
inni gaafa dhalatee jalqabee hamma du’utti Naaziricha Waaqaa ta’aatii’ naan jedhe.”
8 Maano’aanis, “Yaa Gooftaa, akka namichi Waaqaa kan ati gara keenyatti ergite
sun ammas dhufee akka nu itti mucaa dhalatu sana guddisuu qabnu nu barsiisuuf
akka nuuf ergitu sin kadhadha” jedhee WAAQAYYOON kadhate.
9 Waaqnis Maano’aa dhaga’e; ergamaan Waaqayyoo sunis utuu isheen lafa qotiisaa
keessa teessuu gara dubartii sanaa deebi’ee dhufe; dhirsi ishee Maano’aan garuu
ishee wajjin hin turre. 10 Dubartittiinis dhirsa isheetti himuuf ariifattee, “Kunoo!
Namichi guyyaa kaan natti mul’ate sun as jira!” jette.
11 Maano’aanis ka’ee niitii isaa duukaa bu’e. Innis yommuu namicha bira ga’etti,
“Namni niitii kootti dubbate si’ii?” jedheen.
Innis, “Anuma” jedhe.
12 Kanaafuu Maano’aan, “Yeroo dubbiin kee raawwatamutti seerri mucichi ittiin
jiraatuu fi hojiin inni hojjetu maali?” jedhee isa gaafate.

13 Ergamaan WAAQAYYOOs akkana jedhee deebise; “Niitiin kee waan ani itti hime hunda gochuu qabdi.
14 Isheen waan muka wayinii irraa argamu tokko illee nyaachuu hin qabdu; daadhii wayinii yookaan dhugaatii nama macheessu dhuguu yookaan waan xuraa’aa kam iyyuu nyaachuu hin qabdu. Isheen waan ani ishee ajaje hunda gochuu qabdi.”
15 Maano’aanis ergamaa WAAQAYYOOTIIN, “Hamma nu korbeessa re’ee xinnaa isaa siif qopheessinutti nuu turi” jedhe.
16 Ergamaan WAAQAYYOO, “Ati na tursitu illee, ani nyaata kee kam iyyuu hin nyaadhu. Garuu yoo aarsaa gubamu qopheessuu feete, isa WAAQAYYOOF dhi’eessi” jedheen. Maano’aan akka inni ergamaa WAAQAYYOO ta’e hin beekne ture.
17 Sana booddee Maano’aan ergamaa WAAQAYYOOTIIN, “Akka nu yeroo dubbiin ati dubbatte fiixaan ba’utti ulfina siif kenninuuf maqaan kee eenyu?” jedhee gaafate.
18 Innis, “Ati maaliif maqaa koo gaafatta? Inni akka malee dinqii dha” jedheen.
19 Maano’aanis korbeessa re’ee xinnaa isaa kennaa midhaanii wajjin geessee kattaa irratti WAAQAYYOOF aarsaa godhe. Utuma Maano’aa fi niitiin isaa ilaalanuus WAAQAYYO waan dinqii godhe.
20 Yeroo arrabni ibiddaa iddoo aarsaa irraa samiitti ol ba’etti ergamaan WAAQAYYOO arraba ibiddaa keessaan ol ba’e. Maano’aa fi niitiin isaa waan kana arganii adda isaaniitiin lafatti gombifaman.
21 Ergamaan WAAQAYYOO garuu deebi’ee Maano’aa fi niitii isaatti hin mul’anne. Maano’aanis akka inni ergamaa WAAQAYYOO ta’e beeke.
22 Innis niitii isaatiin, “Nu Waaqa argineerraatii dhugumaan ni duuna!” jedhe.
23 Niitiin isaa garuu deebiftee akkana jetteen; “WAAQAYYO utuu nu ajjeesuu barbaadee silaa aarsaa gubamuu fi kennaa midhaanii nu harkaa hin fudhatu ture; waan kana hundumas nutti hin argisiisu yookaan waan kana amma nutti hin himu ture.”
24 Dubartiin sun ilma deesse; Saamsoon jettees isa moggaafte. Innis ni guddate; WAAQAYYOs isa eebbise.
25 Hafuurri WAAQAYYOOs yeroo inni Zoraa fi Eshitaa’ol gidduu qubata Daan keessa turetti isa kakaasu jalqabe.

# 14

*Gaa’ela Saamsoon*

1 Saamsoon gara Tiimnaahitti gad bu’ee durba Filisxeem tokko achitti arge.
2 Yommuu achii deebi’ettis abbaa fi haadha isaatiin, “Ani Tiimnaahitti intala Filisxeem tokko argeeraatii na fuusisaa” jedhe.
3 Abbaa fi haatii isaa deebisanii, “Wanni akka ati Filisxeemota dhagna hin qabanne keessaa niitii fuutu si godhu firoota kee keessaa yookaan saba keenya hunda keessaa dubartiin dhabamteetii?” jedhaniin.
Saamsoon garuu abbaa isaatiin, “Isheetu naa ta’aatii ishuma naa fidi” jedhe.
4 Abbaa fi haatii isaa akka wanni kun WAAQAYYO biraa dhufe hin beekne; Waaqayyo karaa ittiin Filisxeemota dha’u barbaadaa tureetii. Yeroo sanatti Filisxeemonni Israa’eloota gad qabanii bulchaa turan.
5 Saamsoon abbaa isaatii fi haadha isaa wajjin gara Tiimnaahitti gad bu’e. Akkuma isaan iddoo dhaabaa wayinii Tiimnaahi bira ga’aniinis leenci saafelli tokko ittanaa isatti dhufe.
6 Hafuurri WAAQAYYOOs jabinaan Saamsoon irra bu’e; innis homaa of harkaa qabaachuu baatu illee akkuma nama ilmoo re’ee tokko cicciruutti leenca saafela sana ciccire. Garuu waan hojjete sana abbaa fi haadha isaatti hin himne.
7 Ergasii gad bu’ee dubartittii wajjin haasa’e; isheenis ija isaatti tolte.
8 Innis yeroo gabaabaa booddee yommuu ishee fuudhuuf achi deebi’etti raqa leenca sanaa ilaaluuf of irra gara gale. Raqa leencichaa keessas tuunni kanniisaa guutee damma dammeessee ture;
9 dammichas harka isaatti fudhatee nyaachaa karaa isaa

itti fufe. Yommuu gara abbaa fi haadha isaa dhufettis damma sana irraa isaaniif kenne; isaanis ni nyaatan. Inni garuu akka damma sana raqa leencaa keessaa fuudhe isaanitti hin himne.
10 Ergasii abbaan isaa intalattii ilaaluuf gad bu'e; Saamsoon akkuma dargaggoonni
yeroo fuudhanitti cidha godhatan sana achitti cidha qopheesse. 11 Yommuu inni achi
dhi'aatettis isa arganii amaamota soddoma isaaf kennan.
12 Saamsoonis akkana isaaniin jedhe; "Ani hibboo tokko isinitti nan hima; yoo isin guyyoota cidhichaa torban keessatti hiikkaa isaa argattan, ani wayyaa quncee talbaa
irraa hojjetame soddomaa fi uffata kittii soddoma isiniifin kenna. 13 Isin yoo hiikkaa
isaa natti himuu dadhabdan wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame soddomaa fi uffata kittii soddoma naa kennitu."

Isaanis, "Hibboo kee ni dhageenyaa nutti hima" jedhan.

14 Innis deebisee,

"Kan nyaatu keessaa wanni nyaatamu,
jabaa keessaa immoo wanni mi'aawu ba'e"

isaaniin jedhe. Isaanis hamma guyyaa sadiitti hibboo sana hiikuu hin dandeenye ture.

15 Isaanis guyyaa afuraffaatti niitii Saamsooniin, "Akka dhirsi kee hiikkaa hibboo kanaa nutti himuuf mee nuu kadhadhu; yoo kanaa achii nu si'ii fi mana abbaa keetii ibiddaan gubnaa. Ati nu saamuuf asitti nu waamtee?" jedhaniin.

16 Niitiin Saamsoonis fuula isaa duratti boo'aa "Ati na jibbiteerta! Ati dhugumaan na hin jaallattu. Ati saba koo hibboo gaafatteerta; garuu hiikkaa isaa natti hin himne" jetteen.

Innis deebisee, "Ani abbaa koottii fi haadha kootti iyyuu hin himne; egaa ani
sitti himuu qabaa?" jedheen. 17 Isheenis guyyaa cidha sanaa torbanuu boottee
isa rakkifte; innis sababii isheen ittuma fuftee boqonnaa isa dhowwiteef guyyaa torbaffaatti hiikkaa isaa isheetti hime. Isheen immoo hiikkaa hibboo sanaa saba isheetti himte.

18 Namoonni magaalaa sanaas guyyaa torbaffaatti utuu biiftuun hin lixin,

"Wanni damma caalaa mi'aawu maali?
Jabaan leenca caalu maali?" jedhaniin.

Saamsoonis,

"Utuu raada kootiin qotachuu baattanii,
isin silaa hibboo koo hin hiiktan ture" jedheen.

19 Kana irratti Hafuurri WAAQAYYOO jabinaan isa irra bu'e. Innis gara Ashqaloonitti gad bu'ee namoota magaalaa keessaa soddoma ajjeese; waan isaan qabanis irraa fudhatee namoota hibboo sana hiikaniif uffata kittii kenne. Aariidhaanis gubachaa
gara mana abbaa isaatti deebi'e. 20 Niitii Saamsoonis miinjee isaatti heerumsiisan.

# 15

*Saamsoon Filisxeemotatti Haaloo Ba'e*

1 Ergasii yeroo qamadiin walitti qabamutti Saamsoon korma re'ee xinnaa isaa fudhatee niitii isaa ilaaluu dhaqe. Innis, "Ani daree niitii koo nan seena" jedhe. Abbaan niitii isaa garuu eeyyamuufii dide.

2 Innis, "Ani waan ati ishee jibbiteerta jedhee dhugumaan amaneef miinjee keetti ishee heerumsiiseera; obboleettiin ishee quxisuun, ishee caalaa bareedduu mitii? Qooda sanaa ishee fudhadhu" jedheen.

3 Saamsoon deebisee, "Ani yeroo kanatti yoo miidhaa kam iyyuu Filisxeemota
irraan ga'e itti hin gaafatamu" isaaniin jedhe. 4 Kanaafuu inni achii ba'ee waangota
dhibba sadii qabee lama lamaan eegee isaanii walitti hidhe. Eegee lamaan lamaan
isaanii irrattis guca guduunfe; 5 ibiddas itti qabsiisee qamadii Filisxeemotaa keessatti

waangota sana gad lakkise. Midhaan haamamee fi kan hin haamaminitti akkasumas
iddoo dhaabaa wayiniitii fi ejersaa guggube.
6 Yeroo Filisxeemonni, “Eenyutu waan kana godhe?” jedhanii gaafatanitti,
“Saamsoon dhirsa intala namicha Tiimnaahi sanaatu sababii niitiin isaa miinjee
isaatti jalaa heerumsiifamteef waan kana godhe” jedhamee isaanitti himame.
Kanaafuu Filisxeemonni ol ba’anii niitii Saamsoonii fi abbaa ishee gubanii ajjeesan.
7 Saamsoonis, “Erga isin akkas gootanii ani hamma haaloo koo baafadhutti isin hin
dhiisu” isaaniin jedhe. 8 Akka malees isaan dha’ee hedduu isaanii galaafate. Ergasii
gad bu’ee holqa kattaa Eexaam keessa jiraate.
9 Filisxeemonnis ol ba’anii naannoo Lehiitti faffaca’anii Yihuudaa keessa qubatan.
10 Namoonni Yihuudaas, “Isin maaliif nu waraanuuf dhuftan?” jedhanii isaan
gaafatan.
Isaanis deebisanii, “Nu Saamsoon hiinee waan inni nu godhe sana isa godhuuf
dhufne” jedhan.
11 Ergasiis namoonni kuma sadii Yihuudaadhaa gara holqa Eexaamitti gad bu’anii
Saamsooniin, “Ati maali nu goote? Akka Filisxeemonni nu bulchan hin beektuu?”
jedhan.
Innis, “Ani waanuma isaan na godhan sana isaan irratti nan godhe” jedhee deebise.
12 Isaanis, “Nu si hiinee dabarsinee Filisxeemotatti si kennuuf dhufne” jedhaniin.
Saamsoon immoo, “Isin mataan keessan akka na hin ajjeefne naa kakadhaa” jedhe.
13 Isaanis, “Tole, nu si hiinee dabarsinee harka isaaniitti si kennina malee ofii
keenyaan si’i hin ajjeefnu” jedhaniin. Kanaafuu funyoo haaraa lamaan isa hidhanii
holqa keessaa isa baasan. 14 Yeroo inni Lehiitti dhi’aatettis Filisxeemonni iyyaa gara
isaa dhufan. Hafuurri Waaqayyoos jabinaan isa irra bu’e. Funyoon harki isaa ittiin
hidhamee ture sun akka quncee talbaa kan ibidda keessa bu’ee ta’e; hidhaan isaas
harka isaa irraa ciccite. 15 Innis lafee ha’oo harree haaraa isaa argatee hiixatee
fudhate; ittiinis dha’ee nama kuma tokko fixe.
16 Kana irrattis Saamsoon,
“Ani lafee ha’oo harree tokkoon,
    wal irra isaan nan tuule;
lafee ha’oo harree tokkootiin,
    namoota kuma tokko nan ajjeese” jedhe.
17 Innis erga waan kana dubbatee fixatee booddee lafee ha’oo harree sana achi
darbate; iddoon sunis Raamaat Leehii jedhame.
18 Innis sababii akka malee dheeboteef, “Ati mo’annaa guddaa akkanaa garbicha
keetiif kenniteerta. Egaa ani amma dheebuudhaan du’ee harka warra dhagna hin
qabatinii keessan bu’aa?” jechuudhaan Waaqayyoon waammate. 19 Waaqnis boolla
Lehii keessa jiru dhoosee bishaan baase. Saamsoonis yommuu bishaan sana dhugetti
humni isaa deebi’eefii jabaate. Kanaafuu burqaan suni Een Haqoree jedhamee
moggaafame. Innis hamma har’aatti achuma Leehiitti argama.
20 Saamsoon bara Filisxeemotaa keessa waggaa digdama Israa’eloota bulche.

# 16

*Saamsoonii fi Daliilaa*

1 Gaaf tokko Saamsoon gara Gaazaa iddoo itti sagaagaltuu tokko arge dhaqe. Ishee
wajjin buluufis ol seene. 2 Namoota Gaazaattis, “Saamsoon as jira!” jedhamee
himame. Kanaafuu isaan naannoo sana marsanii halkan guutuu riphanii karra
magaalattii irratti isa eeggatan. Isaanis, “Ganama barii isa ajjeefna” jedhanii halkan
sana utuu hin socho’in bulan.

3 Saamsoon garuu hamma walakkaa halkaniitti achi rafe. Ergasii ka'ee cufaawwan
karra magaalattii michichila lama wajjin, danqaraa isaatii fi waan hunda buqqise. Ol
fuudhees gatiittii isatti baachuudhaan gara fiixee gaara fuullee Kebroonitti ol ba'e.

4 Yeroo muraasa booddee Saamsoon jaalala dubartii sulula Sooreeq keessa
jiraattu tokkootiin qabame; maqaan ishees Daliilaa jedhama ture. 5 Bulchitoonni
Filisxeemotaas gara ishee dhaqanii, "Akka nu hiinee isa miidhuu dandeenyuuf, akka
inni icciitii jabina isaa guddaa kanaatii fi akka nu itti isa mo'achuu dandeenyu sitti
himuuf isa sossobi. Tokkoon tokkoon keenyas meetii kuma tokkoo fi dhibba tokko
siif kenninaa" jedhaniin.

6 Daliilaanis Saamsooniin, "Icciitii jabina kee guddaa sanaatii fi akka ati itti
qabamtee hidhamuu dandeessu natti himi" jette.

7 Saamsoon immoo deebisee, "Yoo namni kam iyyuu teepha haaraa hin gogin
torbaan na hidhe, ani akkuma nama biraa kam iyyuu dadhabaa nan ta'a" jedheen.

8 Bulchitoonni Filisxeemotaas ergasii teepha haaraa hin gogin torba fidanii isheetti
kennan; isheenis ittiin isa hiite. 9 Isheen gola keessatti namoota dhoksitee,
"Saamsoon, Filisxeemonni sitti dhufan!" jetteen. Inni garuu teephawwan sana
akkuma ribuun yommuu ibidda bira ga'u baqutti rakkina malee of irraa kukkute.
Kanaafuu icciitiin jabina isaa hin beekamne.

10 Daliilaan Saamsooniin, "Ati na gowwoomsite; na sobdes. Amma kottuu akka itti
hidhamuu dandeessu natti himi" jette.

11 Innis, "Yoo namni kam iyyuu funyoo haaraa namni itti hin fayyadaminiin na
hidhe, ani akkuma nama biraa kamii iyyuu dadhabaa nan ta'a" jedheen.

12 Kanaafuu Daliilaan funyoo haaraa fuutee ittiin isa hiite. Namootas golla keessatti
dhoksitee, "Saamsoon, Filisxeemonni sitti dhufan!" jetteen. Inni garuu funyoowwan
sana akkuma kirriitti harka ofii irraa kukkute.

13 Daliilaanis Saamsooniin, "Ati hamma ammaatti na gowwoomsiteerta; na
sobdeertas. Akka itti hidhamu dandeessu natti himi" jette.

Innis, "Yoo ati guduruu mataa koo torban walitti footee qofootti na hiite, ani
akkuma nama biraa kamii iyyuu dadhabaa nan ta'a" isheen jedhe. Daliilaanis utuu
inni rafuu guduruu mataa isaa torban walitti footee, 14 qofootti isa hiite.

Ammas isa waamtee, "Saamsoon, Filisxeemonni sitti dhufan!" jette. Inni garuu
hirribaa ka'ee qofoo sana guduruu mataa isaa wajjin buqqise.

15 Isheenis, "Ati utuu na hin amanin akkamitti, 'Ani si jaalladha' naan jetta? Utuu
icciitii jabina kee guddaa sanaa natti hin himin, ati na sobuun kee kun yeroo sadaffaa
dha" jetteen. 16 Guyyuma guyyaanis hamma lubbuun isaa jireenya jibbitutti dubbii
isheetiin afaan isa gogsite.

17 Kanaafuu inni waan hunda isheetti hime. Akkanas jedheen; "Sababii ani
gaafuma dhaladhee jalqabee Naaziricha ta'ee Waaqaaf addaan baafameef qarabaan
takkumaa mataa koo tuqee hin beeku. Yoo mataan koo haadame garuu jabinni koo
narraa badee anis akkuma nama biraa kamii iyyuu dadhabaa nan ta'a."

18 Daliilaanis yommuu akka inni waan hunda isheetti hime hubattetti, "Inni waan
hunda natti himeeraatii mee deebi'aa kottaa" jettee bulchitoota Filisxeemotaatti
ergaa ergite. Kanaafuu bulchitoonni Filisxeemotaa harka isaaniitti meetii qabatanii
gara ishee dhufan. 19 Akka inni gudeeda ishee irra ciisu gootee nama tokko waamtee
guduruu mataa isaa torban irraa haadchisiifte. Isheenis akka malee isa rakkisuu
jalqabde. Jabinni isaas isa irraa bade.

20 Isheenis, "Saamsoon, Filisxeemonni sitti dhufan!" jetteen.

Innis hirribaa ka'ee, "Ani akkuma yeroo kaanii gad ba'ee of irraa harcaasa" jedhe.
Garuu akka WAAQAYYO isa dhiisee deeme hin beekne ture.

21 Ergasii Filisxeemonni isa qabanii ija isaa keessaa baasanii gara Gaazaatti isa
geessan. Foncaa naasiitiin isa hidhaniis mana hidhaa keessatti daaktuu midhaanii isa
godhan. 22 Rifeensi mataa isaa garuu erga haadamee booddee deebi'ee guddachuu
jalqabe.

### *Saamsoon Du'uu Isaa*

23 Bulchitoonni Filisxeemotaa, "Waaqni keenya, Saamsoon diina keenya sana
dabarsee harka keenyatti nuu kenneera" jedhanii gammaduudhaan Daagon Waaqa
isaaniitiif aarsaa guddaa dhi'eessuuf walitti qabamanii turan.
24 Namoonnis yeroo isa arganitti Waaqa isaanii galateeffachaa,
"Waaqni keenya,
diina keenya kan biyya keenya balleesse,
kan nama baay'ee nu duraa ajjeese sana
dabarsee nuu kenneera" jedhan.
25 Isaanis utuma garaan isaanii gammadaa jiruu, "Akka inni nu bashannansiisuuf
mee Saamsoonin waamaa" jedhan. Kanaafuu Saamsoonin mana hidhaatii waamanii
fidan; innis isaan bashannansiise.
Yommuu isaan utubaawwan gurguddaa gidduu isa dhaabachiisanitti, 26 Saamsoon
tajaajilaa harka isaa qabee ture sanaan, "Akka ani itti irkadhuuf gara utubaawwan
mana sagadaa kana qabanii dhaabaniitti na dhi'eessi" jedhe. 27 Manni sagadaa sun
dhiiraa dubartiin guutamee ture; bulchitoonni Filisxeemotaa hundinuus achi turan;
Saamsoonii tapha argisiisu ilaaluuf jedhanii namoonni kuma sadii bantii manichaa
irra turan. 28 Saamsoonis akkana jedhee WAAQAYYOON kadhate; "Yaa WAAQAYYO
Gooftaa, na yaadadhu. Yaa Waaqi, akka ani ija koo lamaaniif Filisxeemota haaloo
baafadhuuf yeroo tokko jabina naa kenni." 29 Saamsoonis ergasii utubaawwan
gurguddaa lamaan kanneen walakkaa mana sagadaa sanaa dhaabatanii mana sana
baatanitti hiixatee tokko harka isaa mirgaatiin, kaan immoo harka isaa bitaatiin
qabatee, 30 "Ani Filisxeemota wajjin du'a!" jedhee humna qabu hundaan dhiibe;
manichi sagadaas bulchitootaa fi namoota achi keessa turan hunda irratti jige.
Kanaafuu namoonni inni yeroo du'a isaatti ajjeese kanneen inni yeroo jireenya isaatti
ajjeese caalaa baay'ee turan.
31 Obboloonni isaatii fi maatiin abbaa isaa hundinuu reeffa isaa fuudhuu gad
bu'an. Isaanis isa fidanii Zoraa fi Eshitaa'ol gidduutti iddoo awwaala abbaa isaa
kan Maano'aa keessatti isa awwaalan. Inni waggaa digdama Israa'elin bulche.

# 17

### *Waaqota Tolfamoo Miikaa*

1 Namicha biyya gaara Efreem keessa jiraatu kan maqaan isaa Miikaayaa jedhamu
tokkotu ture; 2 innis haadha isaatiin, "Meetiin kuma tokkoo fi dhibba tokko ulfaatu
kan si duraa badee ani utuu ati nama si jalaa fudhate abaartuu dhaga'e sun na bira
jira; kan fudhates anuma" jedhe.
Haati isaas, "Yaa ilma ko, WAAQAYYO si haa eebbisu" jetteen.
3 Yommuu inni meetii kuma tokkoo fi dhibba tokko sana deebisee haadha isaatti
kennettis, haati isaa, "Akka ilmi koo fakkii meetiin itti uffifame ittiin hojjetuuf ani
meetii koo WAAQAYYOOF addaan baaseera. Ani ammas deebisee sittin kenna" jetteen.
4 Kanaafuu inni meetii sana deebisee haadha isaatiif kenne; isheenis meetii dhibba
lama fuutee tumtuu meetiitti kennite; tumtuun sunis fakkii fi Waaqa tolfamaa ittiin
hojjete. Fakkii fi Waaqni tolfamaan sunis mana Miikaayaa keessa kaa'aman.
5 Namichi Miikaa jedhamu kunis galma Waaqa tolfamaa qaba ture; innis dirataa fi
waaqota tolfamoo tokko tokko tolchee ilmaan isaa keessaa nama tokko luba godhate.

6 Bara sana Israa'el keessa mootiin hin jiru ture; tokkoon tokkoon namaa waanuma
isatti tole hojjeta ture.

7 Yeroo sanatti biyya Yihuudaa keessa dargaggeessa gosa Lewwii kan Beetlihem
keessa gosa Yihuudaa gidduu jiraatu tokkotu ture. 8 Innis iddoo jireenyaa kan biraa
barbaaduuf jedhee magaalaa sana dhiisee deeme. Utuma deemuus gara biyya gaaraa
Efreem mana Miikaa dhufe.
9 Miikaanis, "Ati eessaa dhufte?" jedhee isa gaafate.

Innis, "Ani nama Lewwii kan Beetlihem biyya Yihuudaatii dhufee iddoo jireenyaa
barbaaduu dha" jedheen.

10 Miikaanis, "Na wajjin jiraadhuutii abbaa fi luba naa ta'i; anis waggaatti meetii
kudhan siif kenna; uffata keetii fi nyaata kees nan danda'a" isaan jedhe. 11 Kanaafuu
Lewwichi sun isa wajjin jiraachuuf walii gale; dargaggeessi sunis Miikaadhaaf ilmaan
isaa keessaa akkuma nama tokkoo ta'e. 12 Miikaanis dargaggeessa Lewwii sana
muudate; innis luba isaa ta'ee mana isaa jiraate. 13 Miikaanis, "Erga Lewwichi kun
luba koo ta'e, ani akka Waaqayyo waan gaarii naa godhu nan beeka" jedhe.

# 18

*Namoonni Daan Laayish Keessa Qubatan*

1 Yeroo sanatti Israa'el keessa mootiin hin jiru ture.

Sababii hamma yeroo sanaatti gosoota Israa'el gidduutti dhaalli isaaniif hin
kennaminiif gosti Daan iddoo qubatan barbaaddachaa turan. 2 Kanaafuu warri Daan
akka isaan biyya sana basaasanii fi magaalaa Zoraatii fi Eshitaa'ol keessaa namoota
jajjaboo shan ergan. Namoonni kunneenis gosoota isaanii hunda iddoo bu'an. Warra
erganiinis, "Dhaqaatii biyyattii sakatta'aa" jedhan.

Ergamoonni sunis biyya gaaraa Efreemiitti ol ba'anii mana Miikaa dhufan; halkan
sanas achi bulan. 3 Isaanis yommuu mana Miikaa bira ga'anitti sagalee dargaggeessa
Lewwicha sanaa hubatan; kanaafuu itti goranii, "Eenyutu as si fide? Ati maal asii
goota? Maaliifis as dhufte?" jedhanii isa gaafatan.

4 Innis, "Miikaatu na qaxarate; anis luba isaa ti" jedhee waan inni isaaf godhe
isaanitti hime.

5 Isaanis, "Maaloo mee akka karaan keenya milkaa'uu fi akka hin milkoofne Waaqa
nuu gaafadhu" jedhaniin.

6 Lubichis, "Nagaan deemaa; Waaqayyo karaa keessan isinii mijeesseera" isaaniin
jedhe.

7 Kanaafuu namoonni shanan sun ka'anii Laayish dhaqan; akka namoonni
achi jiraatan, akkuma warra Siidoonaa sodaa tokko malee nagaadhaan jiraatanis
argan. Isaanis sababii lafti isaanii waan hunda qabduuf jireenya badhaadhaa
jiraatan. Akkasumas sababii warra Siidoonaa irraa fagaatanii jiraachaa turaniif isaan
eenyuma wajjinuu walitti dhufeenya tokko illee hin qaban ture.

8 Yommuu isaan Zoraa fi Eshitaa'olitti deebi'anitti obboloonni isaanii, "Oduu maalii
qabattanii deebitan?" jedhanii isaan gaafatan.

9 Isaanis deebisanii akkana jedhaniin; "Ka'aa dhaqnee isaan lollaa! Nu akka
biyyattiin gabbattuu taate argineerra. Isin waan kana ittuma dhiiftuu? Dhaqxanii
qabachuu hin maminaa. 10 Isinis yommuu achi geessanitti saba yaaddoo tokko malee
jiraatuu fi biyya bal'aa Waaqni dabarsee harka keessanitti isinii kennu kan wanni
tokko iyyuu itti hin hir'atin argattu."

11 Kana irratti gosa Daan keessaa namoonni dhibba ja'a mi'a lolaa hidhatanii Zoraa
fi Eshitaa'olii ka'an. 12 Ol ba'aniis Yihuudaa keessa iddoo Kiriyaati Ye'aariim jedhamu
bira qubatan. Sababii kanaaf iddoon sun hamma har'aatti qubata Daan jedhamee

waamama; qubanni sunis gama lixa Kiriyaati Ye’aariimitti argama. 13 Isaanis achii
itti fufanii gara biyya gaaraa Efreemitti ol ba’anii mana Miikaa dhufan.
14 Namoonni Shanan biyya Laayish basaasanii turan sunis, obboloota isaaniitiin,
“Isin akka manneen kana keessaa tokko dirata, fakkii waaqota tolfamoo mana
keessaa, fakkii soofamee fi fakkii meetiin itti uffifame qabu beektuu? Amma waan
gochuu qabdan beekaa” jedhan. 15 Kanaafuu isaan achi goranii mana Miikaa iddoo
Lewwichi dargaggeessi sun jiraatu dhufanii nagaa isa gaafatan. 16 Namoonni Daan
warri mi’a lolaa hidhatan dhibbi ja’aan balbala ittiin karra seenan irra dhaabatanii
turan. 17 Namoonni biyyattii basaasan shanan ol galanii fakkii soofame, dirata,
waaqota tolfamoo mana keessaatii fi Waaqa tolfamaa baqfamee hojjetame fudhatan.
Yeroo kanatti lubni sunii fi namoonni mi’a lolaa hidhatan dhibbi ja’aan balbala ittiin
karra seenan irra dhaabachaa turan.
18 Yommuu namoonni kunneen mana Miikaa seenanii fakkii soofame, dirata,
waaqota tolfamoo mana keessaa biraatii fi Waaqa baqfamee hojjetame fudhatanitti
lubichi, “Isin maal hojjechaa jirtu?” Isaaniin jedhe.
19 Isaanis, “Cal’isi! Afaan kee qabadhu; nu faana kottuutii abbaa fi luba nuu ta’i.
Mana nama tokkoo keessa tajaajiluu irra sanyii fi gosa Israa’eliif luba taatee tajaajiluu
siif hin wayyuu?” jedhaniin. 20 Lubni sun ni gammade. Innis dirata, waaqota
tolfamoo mana keessaa biraatii fi fakkii soofame sana fudhatee isaan wajjin deeme.
21 Isaanis, ijoollee isaanii xixinnoo, horii isaaniitii fi qabeenya isaanii of dura buusanii
of irra garagalanii qajeelan.
22 Yeroo isaan mana Miikaa irraa xinnoo fagaatanii deemanittis, namoonni ollaa
mana Miikaa wal waamanii namoota Daan duukaa bu’anii qaqqaban. 23 Isaan itti
iyyinaan warri Daan of irra garagalanii Miikaadhaan, “Ati maal barbaaddee namoota
kee waammattee nu loluuf dhufte?” jedhan.
24 Innis deebisee, “Isin waaqota ani tolfadhee fi luba koo fudhattaniirtu. Wanni naa
hafe maaltu jira? Yoos isin akkamitti, ‘Maali taate?’ naan jettu ree?”
25 Namoonni Daanis, “Afaan kee nutti hin banin; yoo kanaa achii namoonni
obsa hin qabne tokko tokko si dha’u; atii fi maatiin kees lubbuu keessan dhabdu”
jedhaniin. 26 Ergasii namoonni Daan karaa isaanii itti fufan; Miikaan akka isaan
humna isaatii ol ta’an hubatee of irra garagalee gara mana ofii isaatti qajeele.
27 Isaan waan Miikaan tolfatee fi luba isaa fudhatanii Laayishitti qajeelanii
saba yaaddoo tokko malee nagaan jiraatutti duulan. Goraadeedhaan isaan fixanii
magaalaa isaaniis guban. 28 Sababii isaan Siidoon irraa fagaatanii jiraatanii fi
eenyuma wajjin walitti dhufeenya hin qabneef kan isaan baraaru tokko iyyuu hin
jiru ture. Magaalaan sun sulula keessa Beet Rehooboot biratti argamti turte.
Namoonni Daan magaalaa sana deebisanii ijaaruudhaan achi jiraatan.
29 Magaalaan sun duraan Laayish jedhamti turte; isaan garuu Daan jedhanii maqaa
abbaa isaanii Daan namicha Israa’eliif dhalate sanaatiin moggaasan. 30 Achittis
namoonni Daan ofii isaaniitiif waaqota tolfamoo dhaabbatan; Yoonaataan ilmi
Geershoom, ilmi Musee sunii fi ilmaan isaa hamma biyyattiin booji’amtetti luboota
gosa Daan turan. 31 Kanaafuu isaan ittuma fufanii bara manni Waaqaa Shiiloo ture
guutuu waaqota Miikaan tolfatetti fayyadamaa turan.

# 19

*Namicha Lewwii Tokkoo fi Saajjatoo*

1 Yeroo sanatti Israa’el mootii hin qabdu ture.
Lewwichi lafa gammoojjii biyya gaaraa Efreem keessa jiraatu tokko Beetlihem
Yihuudaa keessaa dubartii tokko saajjatoo godhatee fudhate. 2 Isheen garuu isaaf
amanamtuu hin taane. Isa dhiiftees gara mana abbaa ishee Beetlihem Yihuudaatti

deebite. Erga ji’a afur achi turtee booddee, 3 dhirsi ishee araarfatee deebisee
galfachuudhaaf gara ishee dhaqe. Innis hojjetaa isaatii fi harroota lama fudhatee
deeme. Isheenis mana abbaa isheetti ol isa galchite; abbaan ishees yommuu isa
argetti gammachuudhaan isa simate. 4 Abbaan niitii isaa jechuunis, abbaan intalattii
akka inni achi turuuf jabeessee isa kadhate; kanaafuu isaan nyaachaa, dhugaas bultii
sadii isa bira bubbulan.
5 Guyyaa afuraffaatti ganamaan ka’anii deemuuf qophaa’an; abbaan intalattii
garuu dhirsa intala isaatiin, “Akka jabaatuuf waa nyaadhu; ergasii ni deemtaa”
jedhe. 6 Kanaafuu lachan isaanii wajjin nyaatanii dhuguuf tataa’an. Ergasiis abbaan
intalattii, “Maaloo har’a asuma buliitii aara galfadhu” jedheen. 7 Yommuu inni
deemuuf ka’ettis abbaan niitii isaa jabeessee isa kadhate; kanaafuu inni halkan sana
achi bule. 8 Guyyaa shanaffaatti yommuu inni ganamaan deemuuf ka’etti abbaan
intalattii, “Aara galfadhu. Hamma waaree booddeettis asuma turi!” isaan jedhe.
Kanaafuu lachan isaanii iyyuu wajjin nyaatan.
9 Yeroo namichi saajjatoo isaatii fi tajaajilaa isaa wajjin deemuuf ka’etti abbaan
intalattii, “Ilaali! Aduun dhi’uutti jirti. Asuma bulaa; guyyaan galgalaa’eera. Asuma
bulaatii aara galfadhaa. Bori ganamaan kaatanii karaa keessan deemuu dandeessu”
jedheen. 10 Namichi garuu gaafa sana achi buluu didee harroota isaa lamaan fe’atee
saajjatoo isaa fudhatee qajeele. Gara fuullee Yerusaalem ishee Yebuus jedhamtu
sanaa dhufe.
11 Yommuu isaan Yebuus bira ga’anitti sababii aduun dhiiteef tajaajilaan sun
gooftaa isaatiin, “Maaloo kottaa magaalaa Yebuusotaa kanatti gorree haa bullu”
jedhe.
12 Gooftaan isaas deebisee, “Lakkii. Nu magaalaa Namoota Ormaa warra
Israa’eloota hin ta’inii hin seennu. Gara Gibe’aatti dabarra” isaan jedhe. 13 Itti fufees,
“Kottu Gibe’aa yookaan Raamaa geenyee tokkoo isaanii keessa bullaa” jedheen.
14 Kanaafuu deemsa isaanii itti fufanii yeroo isaan Gibe’aa ishee Beniyaam keessatti
argamtutti dhi’aatanitti aduun dhiite. 15 Isaanis achi buluuf itti goran. Oobdii
magaalaa keessas qubatan; garuu namni tokko iyyuu isaan bulchuuf mana isaatti
ol isaan hin galchine.
16 Galgaluma sana jaarsi biyya gaaraa Efreemiitii dhufee Gibe’aa jiraatu tokko
hojii qonnaatii gale. Namoonni biyyattii garuu gosa Beniyaam turan. 17 Jaarsi sun
yommuu ol jedhee oobdii magaalaa keessatti kara deemaa sana argetti, “Ati garam
deemta? Eessaa dhufte?” jedhee gaafate.
18 Lewwichis akkana jedhe; “Nu Beetlihem Yihuudaatii dhufnee gara lafa moggaa
biyya gaaraa Efreem iddoo ani jiraadhuu dhaquuf deemna. Ani achi dhaqee ture.
Ani amma gara mana WAAQAYYOO dhaqaan jira. Namni mana isaatti na simate tokko
iyyuu hin jiru. 19 Nu tajaajiltoonni kee harroota keenyaaf cidii fi okaa qabna; anaa
fi tajaajiltuu keetiif, dargaggeessa nu wajjin jiruufis buddeenaa fi daadhii wayinii
qabna. Nu waan tokko illee hin barbaannu.”
20 Jaarsichis, “Nagaan siif haa ta’u; ani waan isin barbaachisu hundumaa isiniif
nan dhi’eessa; isin garuu oobdii keessa hin bulinaa” jedheen. 21 Kanaafuu inni gara
mana isaatti ol isa galchee harroota isaatiif waan nyaatan kenne. Isaanis erga miilla
isaanii dhiqatanii booddee nyaatanii dhugan.
22 Utuu isaan gammadaa jiranuu kashlabboonni magaalaa sanaa tokko tokko mana
jaarsichaa marsan. Balbalas dhadha’anii iyyuudhaan, “Akka nu isatti sagaagalluuf
namicha mana kee seene sana gad nuu baasi” jedhaniin.
23 Abbaan manichaas gad ba’ee akkana isaaniin jedhe; “Lakkisaa yaa firoota ko,
hammina akkasii hin hojjetinaa; namichi kun waan keessummaa koo ta’eef waan
jibbisiisaa kana hin hojjetinaa. 24 Kunoo intalli koo durbi qulqulluunii fi saajjatoon

namichaa as jiru. Ani isaan gad isinii baasaatii waan feetan isaan godhaa. Namicha kanatti garuu waan jibbisiisaa akkasii hin hojjetinaa."
25 Ta'us isaan isa hin dhageenye. Kanaafuu Lewwichi saajjatoo isaa gad isaanii baase; isaanis halkan guutuu isheetti taphatanii ganama barii gad ishee dhiisan.
26 Akkuma lafti bariiteenis dubartiin sun gara mana gooftaan ishee ture sanaa dhaqxee balbala duratti kuftee hamma biiftuun baatutti achumatti diriirtee hafte.
27 Yommuu gooftaan ishee ganama barii ka'ee deemuuf balbala banee gad ba'etti, kunoo saajjatoon isaa kuftee harka ishee gulantaa balbalaa irratti diriirsitee arge.
28 Innis, "Ka'i ni deemnaa" isheen jedhe. Garuu deebiin tokko illee hin turre. Kana irratti namichi sun harree irra ishee kaa'ee gara mana isaatti qajeele.
29 Innis yommuu mana isaa ga'etti haaduu fudhatee saajjatoo isaa sana buusaa buusaatti iddoo kudha lamatti kukkutee guutummaa biyya Israa'elitti erge. 30 Namni
waan kana arge hundi, "Erga Israa'eloonni Gibxii ba'anii jalqabee wanni akkasii takkumaa argamee yookaan hojjetamee hin beeku. Waa'ee isaa yaadaa! Hubadhaas! Waan gochuu qabnus nutti himaa!" jedhe.

# 20

*Israa'eloonni Beniyaamota Lolan*

1 Israa'eloonni Daanii hamma Bersheebaatti argaman akkasumas kanneen biyya Gili'aad keessa jiraatan hundi akka nama tokkootti ba'anii iddoo Miisphaa jedhamutti fuula WAAQAYYOO duratti walitti qabaman. 2 Hooggantoonni namoota gosoota Israa'el
hundi wal ga'ii saba Waaqaa irratti argaman; loltoonni kuma dhibba afur goraadee hidhatanii turan. 3 Namoonni gosa Beniyaam akka Israa'eloonni gara Miisphaatti ol
ba'an dhaga'an. Namoonni Israa'elis, "Mee akka wanni hamaan kun itti hojjetame nutti himaa" jedhan.
4 Lewwichi dhirsi dubartii ajjeefamte sanaas akkana jedhee deebise; "Anii fi saajjatoon koo achi buluuf biyya Beniyaam Gibe'aa dhufne. 5 Namoonni Gibe'aas
na ajjeesuuf halkan mana ani bule sana marsan. Isaanis saajjatoo koo humnaan gudeedan; isheenis ni duute. 6 Anis reeffa saajjatoo koo fuudhee gargari kukkutee
gara biyyoota dhaala gosoota Israa'el hundaatti erge; isaan Israa'el keessatti waan jibbisiisaa fi salphisaa akkasii hojjetaniiruutii. 7 Ammas isin Israa'eloonni hundinuu
irratti mari'adhaatii murtii keessan kennaa."
8 Namoonni hundi akkuma nama tokkootti ka'anii akkana jedhan; "Nu keessaa namni tokko iyyuu gara mana isaatti hin galu. Nu keessaa namni tokko iyyuu
mana isaatti hin deebi'u. 9 Wanni nu Gibe'aa goonu garuu kana: Akkuma ixaan
nuu ba'etti itti duuluu dha. 10 Akka isaan warra duulaniif waan isaan nyaatan
fidaniif, gosoota Israa'el hunda keessaa nama dhibba tokko keessaa nama kudhan, nama kuma tokko keessaa nama dhibba tokko, nama kuma kudhan keessaa nama kuma tokko ni fudhanna. Duulli kunis yeroo Gibe'aa ishee Beniyaam keessa jirtu sana qaqqabutti waan isaan Israa'el irratti hojjetan sanaaf adabbii barbaachisaa ni kenna." 11 Kanaafuu namoonni Israa'el hundi walitti qabamanii akkuma nama
tokkootti magaalattiitti duulan.
12 Gosoonni Israa'el gara gosa Beniyaam hundaatti akkana jedhanii nama ergan; "Yakki hamaan gidduu keessanitti hojjetame kun maali? 13 Ammas akka nu isaan
barbadeessinee Israa'el keessaa hammina balleessinuuf namoota Gibe'aa hamoo sana dabarsaa nutti kennaa."
Beniyaamonni garuu Israa'eloota firoota isaanii dhaga'uu didan. 14 Isaanis Is-
raa'eloota waraanuudhaaf magaalaawwan isaaniitii tokkummaadhaan gara Gibe'aa dhufan. 15 Beniyaamonni yeruma tokkotti loltoota filatamoo Gibe'aa keessa jiraatan
dhibba torba irratti namoota goraadee hidhatan kuma digdamii ja'a magaalaawwan

isaaniitii hiriirsan. 16 Loltoota filatamoo kanneen hunda keessaa dhibba torba
bitaachota tokkoon tokkoon isaanii rifeensatti dhagaa furrisanii hin dhabne turan.

17 Israa’eloonni Beniyaamota malee iyyuu namoota goraadee hidhatan kuma
dhibba afur qabu turan; kunneen hundinuu gootota turan.

18 Israa’eloonni Beet’eelitti ol ba’anii, “Beniyaamota waraanuudhaaf nu keessaa
jalqabatti eenyu haa ba’uu?” jedhanii Waaqa gaafatan.

WAAQAYYOS, “Yihuudaan jalqabatti haa ba’u” jedhee deebise.

19 Ijoolleen Israa’elis ganamaan ka’anii Gibe’aa marsan. 20 Namoonni Is-
raa’el Beniyaamota waraanuuf ba’anii Gibe’aatti iddoo iddoo isaanii qabatan.
21 Beniyaamonnis Gibe’aadhaa ba’anii gaafuma sana dirree waraanaa irratti
Israa’eloota kuma digdamii lama fixan. 22 Namoonni Israa’el garuu wal jaj-
jabeessanii iddoodhuma gaafa duraa itti hiriiran sanatti iddoo iddoo isaanii qabatan.
23 Israa’eloonni ol ba’anii hamma galgalaatti fuula WAAQAYYOO duratti boo’an.
Isaanis, “Nu obboloota keenya Beniyaamota waraanuuf amma illee ol baanuu?”
jedhanii WAAQAYYOON gaafatan.

WAAQAYYOS, “Itti ol ba’aa” jedhee deebise.

24 Israa’eloonni guyyaa lammaffaatti gara Beniyaamotaatti dhi’aatan. 25 Yeroo
kanatti, Beniyaamonni Gibe’aadhaa itti ba’anii Israa’eloota goraadee hidhatan kuma
kudha saddeet galaafatan.

26 Ergasii ijoolleen Israa’el, sabni hundinuu Beet’eelitti ol ba’anii achitti boo’aa
fuula WAAQAYYOO dura tataa’an. Hamma galgalaattis soomanii aarsaa gubamuu fi
aarsaa nagaa fuula WAAQAYYOO duratti dhi’eessan. 27 Israa’eloonnis gorsa WAAQAYYOO
gaafatan. Bara sana taabonni kakuu Waaqaa achuma ture; 28 Fiinehaas ilmi
Ele’aazaar, ilmi Aroon fuula isaa dura tajaajilaa ture. Isaanis, “Nu amma illee
obboloota keenya Beniyaamota waraanuuf haa baanu moo haa dhiifnu?” jedhanii
gaafatan.

WAAQAYYOS, “Ba’aa; ani bori isaan dabarsee harka keessanitti kennaatii” jedheen.

29 Kanaafuu Israa’eloonni naannoo Gibe’aatti riphan. 30 Isaanis guyyaa sadaffaatti
Beniyaamotatti duulanii akkuma duraan godhan sana Gibe’aa waraanuudhaaf iddoo
iddoo isaanii qabatan. 31 Beniyaamonnis isaan waraanuuf ba’anii magaalaa sana
irraa fagaatan. Akkuma kanaan duraas Israa’eloota dha’uu jalqaban; daandi-
iwwan Beet’eeliitii fi Gibe’aa irrattis namoota Israa’el gara soddoma ajjeesan.
32 Beniyaamonnis, “Kunoo nu akkuma kanaan duraa isaan mo’achaa jirra” jedhan;
Israa’eloonni immoo, “Kottaa nu gara dugda duubaatti deebinee akka isaan magaalaa
keessaa ba’an goonaa” jedhan.

33 Namoonni Israa’el hundinuu iddoo turanii ka’anii Ba’aal Taamaaritti iddoo iddoo
isaanii qabatan; waraanni Israa’el kan riphee eegaa tures karaa lixa Gibe’aatiin
itti ba’e. 34 Sana booddees namoonni Israa’el filatamoon kuma kudhan Gibe’aa
irratti waraana banan. Waraanni sunis akka malee cimaa ture; Beniyaamonni
garuu akka badiin isaanitti dhi’aatee jiru hin beekne ture. 35 WAAQAYYO fuula
Israa’elootaa duratti Beniyaamota dha’e; Israa’eloonni gaafas Beniyaamota 25,100
kanneen hundi isaanii goraadee hidhatan fixan. 36 Kanaafuu Beniyaamonni akka
mo’ataman hubatan.

Yeroo kanatti Israa’eloonni waraana isaanii kan naannoo Gibe’aatti riphee jiru
sana abdatanii waan mo’ataman fakkeessanii Beniyaamotaaf iddoo gad dhiisan.
37 Waraanni Israa’el riphee ture sunis yeruma tokkoon cabsee Gibe’aa seenee
magaalattii goraadeedhaan dha’e. 38 Namoonni Israa’elis akka waraanni riphee ture
sun magaalaa keessaa mallattoo duumessa aaraa guddaa isaa argisiisu walii galanii
turan; 39 akkasiinis namoonni Israa’el gara lolaatti dacha’an.

Beniyaamonni waraana jalqabanii Israa'eloota soddoma ajjeesan; kanaafuu, "Nu
akkuma yeroo jalqabaa sana isaan mo'achaa jirra" jedhan. 40 Garuu yommuu
magaalattii keessaa aarri ol ba'uu jalqabetti Beniyaamonni of irra garagalanii
aara guutummaa magaalattii keessaa samiitti ol ba'aa jiru argan. 41 Kana irratti
namoonni Israa'el Beniyaamotatti garagalan; Beniyaamonni akka balaan isaanitti
dhufe beekanii akka malee sodaataniitii. 42 Kanaafuu isaan gara gammoojjiitti fuula
deeffatanii Israa'eloota duraa baqatan. Garuu jalaa ba'uu hin dandeenye. Namoonni
Israa'el kanneen magaalaa sanaa ba'anii dhufan achitti isaan fixan. 43 Isaanis jara
marsanii ari'uudhaan fuullee ba'a Gibe'aatti isaan mo'atan. 44 Loltoonni Beniyaam
jajjaboon kuma kudha saddeet ni galaafataman. 45 Utuu isaan garagalanii gara
gammoojjii kattaa Rimoonitti baqachaa jiranuu namoonni kuma shan karaa irratti
jalaa dhuman. Israa'eloonni ammas hamma Gidoomitti warra hafan duukaa bu'anii
nama kuma lama ajjeesan.

46 Gaafas Beniyaamota goraadee hidhatan kuma digdamii shanitu ajjeefame; hundi
isaaniis loltoota bebeekamoo turan. 47 Namoonni dhibba ja'a garuu garagalanii gara
gammoojjiitti kattaa Rimoonitti baqatan; ji'a afuris achi turan. 48 Namoonni Israa'el
immoo gara Beniyaamotaatti dacha'anii guutummaa magaalaa sanaa, horii fi waan
achitti argan hunda goraadeen fixan. Magaalaa itti dhufan hundas ibiddaan guban.

# 21

*Beniyaamotaaf Niitonni Argaman*

1 Israa'eloonni, "Nu keessaa namni tokko illee Beniyaamotatti intala isaa heerum-
siisuu hin qabu" jedhanii Miisphaatti wal kakachiisanii turan.

2 Sabnis gara Beet'eel dhaqanii hamma galgalaatti fuula Waaqaa dura taa'uudhaan
sagalee isaanii ol fuudhanii hiqqifatanii boo'an. 3 Isaanis, "Yaa WAAQAYYO, Waaqa
Israa'el, wanni kun maaliif Israa'el irra ga'e? Har'a gosti tokko maaliif Israa'el
keessaa dhabamaa?" jedhanii iyyan.

4 Namoonnis guyyaa itti aanutti ganamaan iddoo aarsaa tolchanii aarsaa gubamuu
fi aarsaa nagaa dhi'eessan.

5 Ergasiis Israa'eloonni, "Gosoota Israa'el hundumaa keessaa gosti fuula
WAAQAYYOO duratti wal ga'ii irratti hin argamin kami?" jedhanii gaafatan. Namni
fuula WAAQAYYOO duratti wal ga'ii irratti hin argamin haa ajjeefamu jedhanii
Miisphaatti walii kakatanii turaniitii.

6 Israa'eloonni garuu obboloota isaanii Beniyaamotaaf garaa laafanii akkana
jedhan; "Har'a gosti tokko Israa'el irraa citeera. 7 Egaa warra hafaniif akkamitti
niitota argachuu dandeenya? Nu akka intallan keenya isaanitti hin heerumsiifne
WAAQAYYOON kakanneerraatii." 8 Ergasiis, "Gosti Miisphaatti fuula WAAQAYYOO
duratti wal ga'ii irratti hin argamin kami?" jedhan. Isaanis akka namni tokko iyyuu
Yaabeesh Gili'aadii gara qubataa wal ga'iidhaaf hin dhufin beekan. 9 Yeroo namoota
lakkaa'anittis akka namni Yaabeesh Gili'aad tokko iyyuu achi hin jirre hubatan.

10 Kanaafuu waldaan sun loltoota kuma kudha lama gara Yaabeesh Gili'aad ergee
akka isaan warra achi jiraatan, dubartootaa fi daa'imman dabalanii goraadeedhaan
fixan ajaje. 11 Isaanis, "Wanni isin gochuu qabdan kanaa dha; dhiira hundaa fi
dubartoota durbummaa hin qabne hunda ajjeesaa" jedhan. 12 Isaanis namoota
Yaabeesh Gili'aad keessa jiraatan keessaa dubarran takkumaa dhiirri bira hin ga'in
dhibba afur argatan; gara biyya Kana'aan kan qubata Shiilootti argamu sanaattis
isaan fidan.

13 Ergasiis waldaan guutuun Beniyaamota kattaa Rimoon bira jiraatanitti waamicha
nagaa ergan. 14 Beniyaamonnis yeroo sanatti ni dacha'an; dubartoonni Yaabeesh

Gili’aad kanneen du’a jalaa baraaraman akka niitota isaaniif ta’aniif kennamaniif;
garuu hunda isaanii wal hin geenye.
15 Namoonnis sababii WAAQAYYO gosoota Israa’el gidduutti gargari ba’umsa uumeef
Beniyaamiif gaddan. 16 Maanguddoonni waldaas akkana jedhan; “Dubartoonni
Beniyaam dhumaniiru; egaa dhiirota hafaniif akkamitti niitota argachuu dandeenya?
17 Akka gosti tokko Israa’el keessaa hin badneef Beniyaamonni hafan dhaaltota
argachuu qabu. 18 Nu Israa’eloonni sababii, ‘Namni intala isaa Beniyaamotatti
heerumsiisu haa abaaramu’ jennee kakanneef, intallan keenya niitummaadhaan
isaanii kennuu hin dandeenyu. 19 Kunoo ayyaanni WAAQAYYOO tokko wagguma
waggaan Shiilootti ni ayyaaneffama; Shiiloon kunis Beet’eel irraa gara kaabaatti,
karaa Beet’eelii ba’ee Sheekemitti geessu irraa gara ba’aatti akkasumas Leboonaa
irraa gara kibbaatti argamti.”
20 Kanaafuu isaan akkana jedhanii Beniyaamota gorsan; “Dhaqaa iddoo dhaabaa
wayinii keessa riphaa eeggadhaa. 21 Ilaalaa; yommuu dubarri Shiiloo sirbaaf ba’anitti
iddoo dhaabaa wayinii keessaa ba’aatii tokkoo tokkoo keessaniif niitii tokko tokko
qabaadhaatii gara Beniyaamitti deebi’aa. 22 Yommuu abbootiin isaanii yookaan
obboloonni isaanii nutti himatanitti, ‘Sababii nu yeroo waraanaatti tokkoo tokkoo
isaaniitiif niitii arguu hin danda’iniif isin isaan gargaaruudhaan dhiifama nuu
godhaa; isinis sababii jaallattanii dubara keessan hin kenniniif balleessaa hin qabdan’
jennaan.”
23 Beniyaamonnis akkuma isaanitti himame sana godhan; utuma dubarran sirbaa
jiranuus tokkoon tokkoon namaa tokko tokko butee akka niitii isaa taatuuf fudhatee
qajeele. Ergasiis gara dhaala isaaniitti deebi’anii magaalaa isaanii haaromfatanii achi
jiraatan.
24 Yeroo sanattis ijoolleen Israa’el iddoo sanaa ka’anii gara mana isaanii, gara gosa
isaanii, gara lammii isaaniitii fi gara dhaala isaaniitti deebi’an.
25 Bara sana Israa’el keessa mootiin hin jiru ture; tokkoon tokkoon namaa waanuma
isatti tole hojjeta ture.

# Kitaaba Ruut

*Naa'omiinii fi Ruut*

1 Bara abbootiin murtii bulchaa turanitti beelli biyyatti bu'e; namichi Beetlihem
Yihuudaa keessa jiraatu tokko niitii isaatii fi ilmaan isaa lamaan fudhatee biyya
Mo'aab jiraachuu dhaqe. 2 Maqaan namichaa Eliimelek, maqaan niitii isaa
Naa'omiin, maqaan ilmaan isaa lamaanii immoo Mahiloonii fi Kiliiyoon jedhama
ture. Isaanis namoota Efraataa kan biyya Yihuudaa Beetlihem keessa jiraatan turan.
Jarris biyya Mo'aab dhaqanii achi jiraatan.
3 Eliimelek dhirsi Naa'omiin ni du'e; isheenis ilmaan ishee lamaan wajjin hafte.
4 Isaanis dubartoota Mo'aab fuudhan; isheen tokko Orphaa kaan immoo Ruut
jedhamti. Erga isaan waggaa kudhan achi jiraatanii booddee, 5 Mahiloonii fi Kiliiyoon
ni du'an. Naa'omiinis ilmaan ishee lamaanii fi dhirsa ishee dhabdee kophaa hafte.
6 Isheenis utuu Mo'aab jirtuu akka WAAQAYYO saba isaa yaadatee nyaata kenneef
dhageesse; Naa'omiinii fi Niitonni ilmaan ishees gara biyya isheetti deebi'uuf
qophaa'an. 7 Isheenis iddoo jiraachaa turtee kaatee niitota ilmaan ishee wajjin gara
biyya Yihuudaatti deebi'uuf karaa qabatte.
8 Ergasiis Naa'omiin niitota ilmaan ishee lamaaniin akkana jette; "Tokkoon tokkoon
keessan gara mana haadhota keessaniitti deebi'aa. Akkuma dhirsoota keessan
kanneen du'anii fi anaafis arjoomtan sana WAAQAYYO isiniif haa arjoomu. 9 WAAQAYYO
tokkoo tokkoo keessaniifis mana dhirsa itti heerumtaniitti boqonnaa isinii haa
kennu."
Isheenis ergasii isaan dhungate; isaanis sagalee ol fudhatanii boo'anii 10 "Waawuu,
nu si wajjin gara saba keetiitti deebina" jedhaniin.
11 Naa'omiin garuu akkana jette; "Yaa intallan ko, gara mana keessaniitti deebi'aa.
Maaliif na wajjin deemtu? Ani si'achi ilmaan dhirsa isiniif ta'uu danda'an
da'aa? 12 Yaa intallan koo gara mana keessaniitti deebi'aa; ani dhirsa biraatti
heerumuudhaaf dulloomeera. Yoo ani abdii qaba jedhee halkanuma kana heerumee
ilmaan da'e illee, 13 isin hamma isaan guddatanitti ni eeggattuu? Isaan eeggachuuf
jettanii utuu hin heerumin haftuu ree? Lakkii yaa intallan koo. Kun isin caalaa natti
ulfaata; harki WAAQAYYOO natti garagaleeraatii!"
14 Isaan amma illee sagalee isaanii ol fudhatanii boo'an. Kana irratti Orphaan
haadha dhirsa ishee dhungattee nagaatti jetteen; Ruut garuu isheetti marmite.
15 Naa'omiinis, "Kunoo, waarsaan kee gara saba isheetii fi waaqota isheetti deebi'aa
jirti. Atis ishee wajjin deebi'i" jetteen.
16 Ruut garuu akkana jettee deebifte; "Akka ani si dhiisu yookaan si biraa deebi'u
na hin dirqisiisin. Iddoo ati deemtu nan deema; iddoo ati jiraattus nan jiraadha.
Sabni kee saba koo ni ta'a; Waaqni kees Waaqa koo ni ta'a. 17 Iddoo ati itti duututti
anis nan du'a; achittis nan awwaalama. Si'achi yoo duuti gargari nu baase malee
yoo ani si dhiisee deeme WAAQAYYO na haa adabu; adabbiin sunis akka malee haa
cimu." 18 Naa'omiinis yeroo akka Ruut ishee wajjin deemuuf murteessite hubattetti
ishee dirqisiisuu dhiifte.
19 Kanaafuu dubartoonni lachuu hamma Beetlihemitti deeman. Yommuu isaan
Beetlihem ga'anittis sababii isaaniitiif guutummaan magaalattii raafamte; dubartoon-
nis, "Isheen kun Naa'omiinii?" jedhan.
20 Isheenis akkana isaaniin jette; "Naa'omiin jettanii na hin waaminaa! Sababii
Waaqni Waan Hunda Danda'u jireenya koo hadheesseef Maaraa jedhaatii na

waamaa. 21 Ani harka guutuudhaan ba'e; WAAQAYYO garuu harka duwwaa na
deebise. Isin maaliif Naa'omiin naan jettu? WAAQAYYO na dhiphiseera; Waaqni Waan
Hunda Danda'u rakkina natti fideeraatii."
22 Kanaafuu Naa'omiin, niitii ilma ishee Ruut Mo'aabittii wajjin yeroo garbuun
haamamuu jalqabutti Mo'aabii gara Beetlihemitti deebite.

# 2

*Ruut Lafa qotiisaa Bo'eez Keessatti*

1 Naa'omiin balbala Eliimelek keessaa fira dhirsa ishee namicha sooressa Bo'eez
jedhamu tokko qabdi turte.

2 Ruut Mo'aabittiinis Naa'omiiniin, "Ani nama fuula isaa duratti fudhatama
argadhu duubaan qarmii funaannachuuf gara lafa qotiisaatti achi nan ba'a" jette.

Naa'omiinis, "Yaa intala koo dhaqi" jetteen. 3 Kanaafuu isheen gara lafa qotiisaa
dhaqxee warra midhaan haaman duubaan qarmii funaannachuu jalqabde. Isheen
utuma qarmii funaannachaa jirtuu akka lafti qotiisaa isheen keessa jirtu sun kan
Bo'eez ta'e hubatte; Bo'eez kunis sanyii Eliimelek ture.

4 Yeruma sanatti Bo'eez Beetlihemii dhufee warra midhaan haamaniin, "WAAQAYYO
isin wajjin haa ta'u!" jedhee nagaa isaan gaafate.

Isaanis deebisanii, "WAAQAYYO si haa eebbisu!" jedhaniin.

5 Bo'eezis dura bu'aa hojjettoota isaatiin, "Intalli kun kan eenyuu ti?" jedhee
gaafate.

6 Dura bu'aan sunis akkana jedhee deebise; "Isheen nama Mo'aab; Naa'omiin
wajjin biyya Mo'aabii dhufte. 7 Isheenis, 'Maaloo akka ani hojjettoota duubaan bissii
gidduudhaan qarmii funaannadhu naa eeyyami' jette. Isheen yeroo xinnoof gaaddisa
jala boqotte malee ganamaa jalqabdee hamma ammaatti jabaattee hojjechaa turte."

8 Kana irratti Bo'eez Ruutiin akkana jedhe; "Yaa intala koo na dhaga'i. Gara
lafa qotiisaa biraa dhaqxee qarmii hin funaanin; iddoo kanaas hin deemin. Asuma
hojjettoota koo dubarran wajjin turi. 9 Lafa qotiisaa warri dhiiraa keessaa haaman
ilaaliitii dubarran duukaa bu'i. Akka isaan si'i hin tuqne ani warra dhiiraatti himeera.
Yeroo dheebottus qodaa bishaanii dhiironni guutan keessaa budduuqsii dhugi."

10 Kana irrattis isheen addaan lafatti gombifamtee, "Ani utuu nama biyya ormaa
ta'ee jiruu fuula kee duratti surraa argadhee ati na arguun kee kun maaliifi?" jettee
isa gaafatte.

11 Bo'eez immoo akkana jedhee deebiseef; "Waan ati erga dhirsi kee du'ee jalqabee
haadha dhirsa keetiitiif goote hundumaa, akka ati itti abbaa kee, haadha keetii fi biyya
kee dhiiftee saba kanaan dura hin beekin wajjin jiraachuudhaaf dhuftes dhaga'eera.
12 WAAQAYYO waan ati goote hundaaf gatii kee siif haa deebisu. WAAQAYYO Waaqni
Israa'el kan ati qoochoo isaa jalatti baqachuudhaaf dhufte sun baay'isee siif haa
deebisu."

13 Isheenis akkana jette; "Yaa gooftaa ko, ani yoo akka hojjettoota kee dubarran
keessaa akka ishee tokkootti madaalamuu baadhe illee sababii ati na jajjabeessitee
gara laafinaan ana garbittii keetti dubbatteef ani fuula kee duratti surraa argad-
heera."

14 Bo'eezis yeroo laaqanaatti, "As kottu. Buddeenas fudhadhuutii wayinii dhangag-
gaa'aatti cuuphadhu" jedheen.

Yeroo isheen hojjettoota wajjin teessettis asheetii waadame kenneef. Isheenis
nyaattee quuftee xinnoon irraa hafeef. 15 Akkuma isheen qarmii funaannachuuf ol
kaateenis Bo'eez akkana jedhee hojjettoota isaa ajaje; "Yoo isheen bissii gidduudhaa
illee qarmii funaannatte ishee hin rifachiisinaa. 16 Qooda kanaa bissii keessaa

tokko tokko luqqisaatii akka isheen funaannatuuf lafa bubuusaafii malee isheetti hin dheekkaminaa."
[17] Kanaafuu Ruut hamma galgalaatti lafa qotiisaa keessaa funaannatte. Garbuu
funaannatte sanas ni sukkuumatte; innis gara safartuu iifii* tokkoo ta'e. [18] Isheenis
garbuu sana baadhattee magaalaatti deebite; haati dhirsa ishees wanni isheen funaannatte hammam akka ta'e argite. Akkasumas Ruut waan guyyaa nyaattee quuftee ishee irraa hafe sana gad baaftee kenniteef.
[19] Haati dhirsa ishees, "Ati har'a eessaa funaannatte? Eessa hojjechaa oolte? Namni
xiyyeeffannoo kana siif kenne sun haa eebbifamu!" jette.
Ergasiis Ruut waa'ee namicha lafa qotiisaa isaa keessaa funaannachaa oolte sanaa haadha dhirsa isheetti himte. Isheenis, "Maqaan namicha ani har'a bira hojjechaa oole sanaa Bo'eez jedhama" jette.
[20] Naa'omiinis, "WAAQAYYO inni warra jiraniifis warra du'aniifis gara laafina
gochuu hin dhiifne sun isa haa eebbisu!" jette. Itti dabaluudhaanis, "Inni fira keenya kan dhi'oo ti; warra nu dhaaluun irra jiru keessaas isa tokkoo dha" isheedhaan jette.
[21] Ergasiis Ruut Mo'aabittiin, "Inni, 'Hamma isaan midhaan koo hunda walitti
qabanii fixanitti iyyuu hojjettoota koo wajjin turi' naan jedheera" jetteen.
[22] Naa'omiinis niitii ilma ishee Ruutiin, "Yaa intala ko, dubarran isaa wajjin ooluun
siif gaarii dha; ati yoo gara lafa qotiisaa nama biraa deemte, miidhaan sirra ga'uu danda'aatii" jette.
[23] Kanaafuu Ruut hamma garbuu fi qamadiin haamamee dhumutti tajaajiltoota
Bo'eez dubarran wajjin turte. Haadha dhirsa ishee wajjinis jiraatte.

# 3

### *Ruutii fi Bo'eez Oobdii Midhaanii Irratti*

[1] Gaaf tokko Naa'omiin haati dhirsa ishee akkana isheedhaan jette; "Yaa intala ko,
ani akka ati itti boqottuuf mana mijaa'aa siif barbaaduu hin qabuu? [2] Bo'eez namichi
ati tajaajiltoota isaa dubarran sana wajjin turte sun fira keenya mitii? Inni edana
oobdiitti garbuu qulleeffata. [3] Kanaafuu dhidhiqadhuutii shittoo dibadhu; uffata kee
isa bareedaa illee uffadhu. Ergasiis gara oobdichaa dhaqi; inni garuu hamma nyaatee
dhugee raawwatutti akka ati achi jirtu hin beekin. [4] Yeroo inni rafutti iddoo inni rafe
hubadhu. Ergasii dhaqiitii wayyaa miilla isaa irraa saaqii ciisi. Innis waan ati gochuu qabdu sitti hima."
[5] Ruutis, "Ani waan ati jettu hunda nan godha" jettee deebifte. [6] Kanaafuu Ruut
gara oobdii sanaatti gad buutee waan haati dhirsa ishee godhi jetteen hundumaa goote.
[7] Bo'eezis erga nyaatee dhugee gammadee booddee achi fagaatee tuulaa midhaanii
bira rafuu dhaqe. Ruutis suuta jettee dhaqxee miilla isaa irraa wayyaa saaqxee rafte.
[8] Halkan walakkaatti wanni tokko namicha rifachiise; innis yommuu of irra garagalee
ilaaletti dubartii miilla isaa jala ciiftu tokko arge.
[9] Innis, "Ati eenyu?" jedhee gaafate.
Isheenis, "Ana Ruut tajaajiltuu kee ti. Ati sababii na dhaaluuf fira dhi'oo taateef handaara wayyaa keetii narra buusi" jetteen.
[10] Innis deebisee akkana jedheen; "Yaa intala too, WAAQAYYO si haa eebbisu;
arjummaan kun arjummaa ati kanaan dura goote sana caala; ati dargaggeessa
yookaan sooressa yookaan hiyyeessa faana hin deemneetii. [11] Ammas yaa intala
koo hin sodaatin. Ani waan ati gaafattu hunda siif nan godha. Sabni magaalaa koo
keessa jiraatu hundi akka ati dubartii amala gaarii qabdu taate ni beeka. [12] Akka ani
fira dhi'oo ta'e beekamaa dha; ta'us namni dhaaluudhaaf ana caalaa fira dhi'oo ta'e

* **2:17** 2:17 Iifiin tokko kiiloo giraamii 40.

jira. 13 Asuma buli; bori ganama namichi yoo si dhaaluu barbaade gaarii dha; inni
si haa dhaalu. Yoo inni si dhaaluu hin barbaanne garuu dhugaa WAAQAYYO jiraataa,
ani sin dhaala. Hamma lafti bariitutti asuma ciisi.”

14 Kanaafuu isheen hamma lafti bariitutti miilla isaa jala ciifte; garuu utuu namni
tokko iyyuu hin beekin dursitee kaate; Bo’eez, “Dubartiin gara oobdii kanaa dhufuun
ishee beekamuu hin qabu” jedheeraatii.

15 Akkasumas, “Wayyaa irraan uffatte ofi irraa fuudhii diriirsii qabi” jedheen.
Isheenis ni diriirsite; inni garbuu safartuu ja’a safaree ishee baachise. Ergasiis gara
magaalaatti deebite.

16 Yommuu Ruut gara haadha dhirsa isheetti deebitetti Naa’omiin, “Yaa intala ko,
wanni sun akkam ta’e?” jettee ishee gaafatte.

Isheenis waan Bo’eez isheef godhe hunda itti himte; 17 itti dabaltees, “ ‘Gara haadha
dhirsa keetti harka duwwaa hin deebi’in’ jedhee garbuu safartuu ja’aa kana naa
kenne” jetteen.

18 Naa’omiin immoo, “Yaa intala ko, hamma waan dhufu argitutti obsi. Namichi
hamma dubbiin kun har’a fala argatutti hin boqotu” isheedhaan jette.

# 4

*Bo’eez Ruutin Fuudhuu Isaa*

1 Bo’eez gara karra magaalaatti ba’ee achi taa’e. Innis yommuu namichi dhaaluuf
isa caalaa fira dhi’oo ta’e sun dhufetti, “Yaa michuu ko, as kottuutii na bira taa’i”
jedheen. Kanaafuu inni dhaqee taa’e.

2 Bo’eezis maanguddoota magaalaa keessaa kudhan waamee, “As taa’aa” jedheen;
isaanis ni tataa’an. 3 Kana irratti namicha dhaaluuf aantummaa qabu sanaan akkana
jedhe; “Naa’omiin isheen Mo’aabii deebite sun lafa obboleessa keenya Eliimelek
gurguruuf jirti. 4 Kanaafuu akka ati fuula warra as tataa’aniitii fi fuula maanguddoota
saba kootii duratti lafa kana bittuuf ani waan kana sitti himuu yaade. Yoo ofii keetiif
dhaaluu barbaadde dhaali. Yoo dhaaluu baatte garuu akka ani beekuuf natti himi.
Waan kana gochuuf si malee namni mirga qabu tokko iyyuu hin jiruutii; namni sitti
aanee aantummaa qabu ana.”

Namichis, “Ani nan dhaala” jedhe.

5 Bo’eezis, “Egaa gaafa Naa’omiinii fi Ruuti Mo’aabittii irraa lafa bittutti ati maqaa
namicha du’e sanaa qabeenya isaatiin waamsisuudhaaf niitii isaa illee fudhachuu
qabda” jedheen.

6 Kana irratti firri dhi’oo sun, “Yoos ani qabeenya mataa kootti rakkina fiduu
danda’aatii dhaaluu hin danda’u. Ati mataan kee mirga dhaaluu kootii fudhadhuutii
dhaali. Ani waan kana gochuu hin danda’u” jedheen.

7 Bara durii biyya Israa’eliitti dhaalaa fi qabeenya walitti dabarsuun gareen tokko
kophee isaa of irraa baasee garee kaaniif kennuudhaan mirkaneeffama ture. Israa’el
keessatti bituu fi gurguruun haaluma kanaan mirkaneeffama ture.

8 Kanaafuu namichi dhaaluuf fira dhi’oo ture sun Bo’eeziin, “Ati mataan kee
bitadhu” jedhee kophee of irraa baase.

9 Bo’eezis maanguddootaa fi saba hundaan akkana jedhe; “Akka ani qabeenya
Eliimelek, qabeenya Kiliiyooniitii fi qabeenya Mahiloon hunda Naa’omiin irraa
bite isin har’a dhugaa baatota. 10 Akkasumas akka maqaan isaa maatii isaa
keessaa yookaan biyya isaa keessaa hin badneef ani qabeenya isaatiin maqaa isaa
waamsisuudhaaf Ruuti Mo’aabittii niitii Mahiloon kana niitii godhadhee fuudhuu
kootiif isin har’a dhugaa baatota!”

11 Maanguddoonnii fi namoonni karra sana dura turan hundinuu akkana jedhan;
“Nu dhugaa baatota. WAAQAYYO dubartii mana kee dhufaa jirtu kana akka Raahelii fi

Liyaa warra tokkummaadhaan mana Israa'el ijaaran sanaa haa godhu. Ati Efraataa
keessatti nama jabaa, Beetlihem keessatti immoo beekamaa ta'i. 12 Karaa sanyii
WAAQAYYO dubartii dargaggeettii kana irraa siif kennuutiin maatiin kee akkuma
maatii Faares isa Taamaar Yihuudaadhaaf deesse sanaa haa ta'u."

### *Hidda Dhaloota Daawit*
*4:18-22 kwf – 1Sn 2:5-15; Mat 1:3-6; Luq 3:31-33*

13 Kanaafuu Bo'eez Ruutin fudhatee niitii godhate. Ishee wajjinis ciise; WAAQAYYOS
akka isheen ulfooftee ilma deessu ishee gargaare. 14 Dubartoonnis Naa'omiiniin
akkana jedhan; "WAAQAYYO inni nama si dhaalu si hin dhabsiisin sun haa eebbifamu.
Guutummaa Israa'el keessattis inni maqaa haa qabaatu! 15 Innis jireenya kee ni
haaromsa; bara dulluma keetiittis si soora. Niitiin ilma keetii isheen si jaallattu kan
ilmaan torba siif caaltu sun isa deesseertiitii."
16 Naa'omiinis mucicha fuutee hammatte; guddiftuu isaa illee taate. 17 Dubartoonni
ollaas, "Naa'omiin mucaa argatte" jedhan. Maqaa isaas Oobeedi jedhan. Inni
akaakayyuu Daawit, abbaa Isseey.

18 Egaa hiddi dhaloota Faares kanaa dha:

Faares abbaa Hezroon;
19 Hezroon immoo abbaa Raam;
Raam abbaa Amiinaadaab;
20 Amiinaadaab immoo abbaa Nahishoon;
Nahishoon abbaa Salmoon;
21 Salmoon immoo abbaa Bo'eez;
Bo'eez immoo abbaa Oobeedi;
22 Oobeedi immoo abbaa Isseey;
Isseey immoo abbaa Daawit.

# Kitaaba Saamu'eel Tokkoffaa

*Dhalachuu Saamu'eel*

1 Namicha biyya gaara Efreem keessa Raamaatayiim Zoofiim jiraatu kan maqaan
isaa Elqaanaa jedhamu tokkotu ture; innis ilma Yeroohaam, ilma Eliihuu, ilma
Toohuu, ilma Zuufi, ilma Naasiib ture. 2 Innis niitii lama qaba ture; maqaan ishee
tokko Haannaa, kaan immoo Pheniinaa jedhama ture. Pheniinaan ijoollee qabdi;
Haannaan garuu ijoollee tokko illee hin qabdu ture.

3 Elqaanaan wagguma waggaadhaan WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uuf aarsaa
dhi'eessuu fi sagaduudhaaf magaalaa jiraatuu ka'ee gara Shiilootti ol ba'a ture.
Achittis ilmaan Eelii lamaan Hofniinii fi Fiinehaas luboota WAAQAYYOO turan.
4 Yommuu guyyaan itti Elqaanaan aarsaa dhi'eessu ga'utti inni niitii isaa Pheniinaa,
ilmaan isaatii fi intallan isaa hundaaf foon sana irraa qooda isaanii ni kenna
ture. 5 Inni sababii Haannaa jaallatuuf qooda harka lama isheedhaaf kenna ture;
WAAQAYYO garuu gadameessa ishee cufee ture. 6 Sababii WAAQAYYO gadameessa
Haannaa cufeef masaanuun ishee akka isheen aartuuf ishee tuttuqaa turte. 7 Kunis
wagguma waggaadhaan itti fufe. Yeroo Haannaan gara mana WAAQAYYOOTTI ol
baatutti masaanuun ishee, ishee tuttuqaa turte; kanaafuu Haannaan ni boossi,
nyaatas hin nyaattu turte. 8 Dhirsi ishee Elqaanaanis, "Haannaa ati maaliif boossa?
Maaliif hin nyaattu? Garaan kee maaliif gaddaa? Ani ilmaan kudhan siif hin caaluu?"
Isheen jedha ture.

9 Gaafa tokko isaan Shiilootti erga nyaatanii dhuganii booddee Haannaan ol kaatee
dhaabate. Eeliin lubichi dhaaba balbala mana qulqullummaa WAAQAYYOO bira
barcuma irra taa'aa ture. 10 Haannaanis guddaa gadditee hiqqifatee boo'uudhaan
WAAQAYYOON kadhatte. 11 Akkanas jettee wareegde; "Yaa WAAQAYYOO Waan Hunda
Dandeessu, yoo ati dhiphina garbittii keetii ilaaltee na yaadatte, yoo ati garbittii kee
dagachuu baattee ilma naa kennite ani bara jireenya isaa guutuu isa WAAQAYYOOF
nan kenna; qarabaan tokko iyyuu mataa isaa hin tuqu."

12 Yeroo Haannaan ittuma fuftee fuula WAAQAYYOO duratti kadhachaa turtettis
Eeliin afaan ishee ilaalaa ture. 13 Haannaanis garaa isheetti kadhachaa turte; hidhii
isheetu socho'a malees sagaleen ishee hin dhaga'amu ture. Kanaafuu Eeliin waan
isheen machoofte se'ee, 14 "Ati hamma yoomiitti machoofta? Daadhii wayinii kee of
irraa fageessi" jedheen.

15 Haannaanis akkana jettee deebifte; "Lakki akkas miti; yaa gooftaa ko, ani dubartii
akka malee dhiphatee dha. Ani lubbuu koo fuula WAAQAYYOO duratti dhangalaase
malee daadhii wayinii yookaan dhugaatii nama macheessu hin dhugne. 16 Ati garbittii
kee akka dubartii faayidaa hin qabne tokkootti hin ilaalin. Ani sababii dhiphinaa fi
gadda koo guddaa sanaatiif hamma ammaatti kadhachaara."

17 Eeliinis, "Nagaan deemi; Waaqni Israa'el waan ati kadhatte siif haa kennu"
jedhee deebiseef.

18 Isheenis, "Garbittiin kee fuula kee duratti surraa haa argattu" jette. Ergasiis
deemsa ishee itti fufte; nyaata ni nyaatte; gaddis fuula ishee irratti hin mul'anne.

19 Isaanis guyyaa itti aanu ganama barii ka'anii fuula WAAQAYYOO duratti sagadanii
gara mana isaanii Raamaatti deebi'an. Elqaanaan niitii isaa Haannaa bira ga'e;
WAAQAYYOS ishee yaadate. 20 Haannaan ulfooftee yeroon isaa geenyaan ilma deesse.

Maqaa isaas, “Ani WAAQAYYO irraa isa kadhadheeraatii” jettee Saamu’eel jettee
moggaafte.

### *Saamu’eel Waaqaaf kenname*

21 Elqaanaan warra mana isaa jiraatan hunda wajjin WAAQAYYOOF aarsaa waggaa
dhi’eessuu fi wareega isaa galchuuf ol ba’e; 22 Haannaan garuu hin dhaqne. Isheenis
dhirsa isheetiin, “Erga mucaan kun harma gu’ee booddee ani isa geesseen fuula
WAAQAYYOO duratti isa dhi’eessa; innis jireenya isaa guutuu achuma jiraata” jette.
23 Dhirsi ishee Elqaanaanis, “Waanuma jaallatte godhi; ati hamma harma isa
guusiftutti asuma turi; WAAQAYYO garuu dubbii isaa fiixaan haa baasu” jedheen.
Kanaafuu dubartittiin mana turtee hamma harma isa guusiftutti ilma ishee hoosifte.
24 Ishee erga mucicha harma guusiftee booddee mucichaa fi dibicha loonii kan
umuriin isaa waggaa sadii ta’e, daakuu iifii* tokkoo fi daadhii wayinii qalqalloo
tokko fudhattee gara Shiiloo gara mana WAAQAYYOOTTI fidde. Mucichis daa’ima ture.
25 Isaanis dibicha sana qalanii mucicha gara Eeliitti fidan; 26 isheenis akkana jetteen;
“Yaa gooftaa ko, du’a lubbuu keetii ti; dubartiin as si bira dhaabattee WAAQAYYOON
kadhachaa turte sun anuma. 27 Ani mucaa kana argachuuf kadhadheera; WAAQAYYOS
waan ani isa kadhadhe naaf kenneera. 28 Kanaafuu ani amma WAAQAYYOOFAN
isa kenna. Bara jireenya isaa guutuu WAAQAYYOOF ni kennama.” Isaanis achitti
WAAQAYYOOF sagadan.

## 2

### *Kadhannaa Haannaa*

1 Haannaanis akkana jettee kadhatte:
“Garaan koo WAAQAYYOTTI ni gammada;
gaanfi koos WAAQAYYOON ol kaafama.
Afaan koos diinota koo irratti of jaja;
ani fayyisuu keetti nan gammadaatii.

2 “Qulqulluun akka WAAQAYYOO tokko iyyuu hin jiru;
si malees eenyu iyyuu hin jiru;
kattaan akka Waaqa keenyaa tokko iyyuu hin jiru.

3 “Of jajuudhaan hin dubbatinaa;
yookaan dubbiin of tuulummaa akkasii afaan keessanii hin ba’in;
WAAQAYYO Waaqa beekaadhaatii;
hojiiwwanis isaan madaalamu.

4 “Iddaawwan namoota jajjaboo caccabaniiru;
namoonni dadhaboon garuu humna hidhataniiru.
5 Warri quufanii turan buddeenatti of gurguraniiru;
warri beela’anii turan garuu si’achi hin beela’an.
Isheen dhabduu turte ijoollee torba deesse;
isheen ijoollee baay’ee qabdu immoo ni dhabde.

6 “WAAQAYYO ni ajjeesa; ni fayyisas;
sii’oolitti gad ni buusa; olis ni baasa.
7 WAAQAYYO ni hiyyoomsa; ni sooromsas;
ni salphisa; ni ulfeessas.

* **1:24** 1:24 Iifiin tokko kiiloo giraamii 40.

8 Inni hiyyeeyyii awwaara keessaa ni kaasa;
rakkattootas tuulaa daaraa keessaa ol fuudha;
inni ilmaan mootii wajjin isaan ni teessisa;
barcuma ulfinaas isaan dhaalchisa.

“Hundeewwan lafaa kan WAAQAYYOO ti;
inni hundeewwan sana irra addunyaa kaa'eera.
9 Inni miilla qulqulloota isaa ni eega;
namoonni hamoon garuu dukkana keessatti cal'isu.

“Namni jabina isaatiin hin mo'atu;
10 warri WAAQAYYOON morman ni caccabsamu.
Inni samiidhaa isaanitti qaqawweessa'a.
WAAQAYYO daarii lafaatti ni murteessa.

“Inni mootii isaatiif jabina ni kenna;
gaanfa dibamaa isaa illee ol ni kaasa.”

11 Ergasii Elqaanaan gara mana isaa Raamaatti gale; mucichi garuu Eelii lubicha
jalatti fuula WAAQAYYOO dura tajaajilaa ture.

### *Hammina Ilmaan Eelii*

12 Ilmaan Eelii namoota hamoo turan; WAAQAYYONIS hin sodaatan ture. 13 Akka
bartee luboonni saba wajjin qabaniitti yeroo namni kam iyyuu aarsaa dhi'eessutti
utuma foon affeelamaa jiruu tajaajilaan lubichaa hokkoo quba sadii qabu tokko
harkatti qabatee dhufee 14 beddee yookaan huuroo yookaan okkotee yookaan
xuwwee keessa galcha ture; lubichis waanuma qabduun sun ol baase ofii isaatii
fudhata ture. Israa'eloota gara Shiiloo dhufan hundas haaluma kanaan keessumsiisu
turan. 15 Garuu utuma coomni isaa hin gubamin dura tajaajilaan lubichaa dhufee
nama aarsaa qalmaa dhi'eessuun, “Waan lubichi foon dheedhii malee affeelamaa si
harkaa hin fudhanneef waan isaaf waadamu naa kenni” jedha ture.

16 Yoo namichi sun, “Jalqaba coomni isaa haa gubamu; ergasii kan barbaadde
fudhadhu” jedheenis, tajaajilaan sun deebisee, “Hin ta'uu ammuma naa kenni; yoo
ati didde immoo ani humnaan nan fudhadha” isaan jedha ture.

17 Cubbuun dargaggootaa kun fuula WAAQAYYOO duratti akka malee guddaa ture;
isaan aarsaa WAAQAYYOOF dhi'eeffamu ni tuffatu tureetii.

18 Saamu'eel garuu dirata quncee talbaa irraa hojjetame uffatee fuula WAAQAYYOO
dura ni tajaajila ture. 19 Haati isaa yommuu wagguma waggaan aarsaa waggaa
dhi'eessuuf dhirsa ishee wajjin ol baatutti wandaboo xinnoo ishee hojjettee ni
geessitiif turte. 20 Eeliinis, “Dubartii kana irraa qooda ilma isheen WAAQAYYOOF
kennite sanaa WAAQAYYO ijoollee isheef haa kennuu” jedhee Elqaanaa fi niitii isaa
eebbise. Isaanis deebi'anii mana isaaniitti galan. 21 WAAQAYYOS Haannaa ni yaadate;
isheenis ulfooftee ilmaan sadii fi intallan lama ni deesse. Saamu'eel mucichis fuula
WAAQAYYOO duratti ni guddate.

22 Yeroo kanatti Eeliin akka malee dulloomee ture; innis waan ilmaan isaa saba
Israa'el hundatti hojjetan hunda akkasumas akka isaan dubartoota balbala dunkaana
wal ga'ii irra tajaajilan wajjin ciisan dhaga'e. 23 Kanaafuu inni akkana isaaniin
jedhe; “Hammina isin gootan ani saba hundumaa irraa dhaga'eera; isin maaliif
waan akkasii gootu? 24 Lakkisaa yaa ilmaan koo; oduun saba WAAQAYYOO keessa
faca'ee ani dhaga'u kun gaarii miti. 25 Namni tokko yoo nama biraatti cubbuu hojjete
Waaqayyotu gidduu galaaf; garuu yoo namni tokko WAAQAYYOTTI cubbuu hojjete

eenyutu gidduu galaaf?" Ta'us sababii WAAQAYYO isaan ajjeesuu barbaadeef ilmaan
Eelii gorsa abbaa isaanii hin dhageenye.
26 Saamu'eel mucichis guddachaa deemee fuula WAAQAYYOOTII fi fuula namaa
duratti surraa argate.

### *Raajii Maatii Eelii Irratti Dubbatame*

27 Namni Waaqaa tokko gara Eelii dhufee akkana jedheen; "WAAQAYYO akkana
jedha: 'Yeroo manni abbaa keetii biyya Gibxi keessa garbummaa Fara'oon jala turetti
ani isatti of mul'ifnee? 28 Akka inni luba koo ta'uuf, akka inni gara iddoo aarsaa
kootti ol ba'uuf, akka inni ixaana aarsuu fi akka fuula koo duratti dirata uffatuuf, ani
gosoota Israa'el hunda keessa abbaa kee filadheera; akkasumas aarsaa Israa'eloonni
ibiddaan dhi'eessan hunda maatii abbaa keetiitiif kenneera. 29 Egaa isin maaliif
qalmaa fi aarsaa ani ajaje sana tuffatu? Ati maaliif aarsaa saba koo Israa'eliin
dhi'eeffamu keessaa filatamaa isaa nyaatanii of gabbisuudhaan ana caalaatti ijoollee
keetiif ulfina kennita?'
30 "Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha: 'Manni keetii fi manni
abbaa keetii bara baraan fuula koo dura akka tajaajilaniif ani waadaa galee ture.'
Amma garuu WAAQAYYO akkana jedha: 'Kun ana irraa haa fagaatu! Warra ulfina
naa kennan nan ulfeessa; warri na tuffatan immoo ni tuffatamu. 31 Akka maatii
kee keessatti jaarsi hin argamneef, yeroon ani itti jabina keetii fi jabina maatii
abbaa keetii cabsu tokko ni dhufa; 32 iddoo jireenya koo keessattis rakkina argita.
Israa'eliif wanni gaariin yoo godhamu iyyuu, toora maatii keetii keessatti jaarsi
hin argamu. 33 Namni ani iddoo aarsaa koo biraa hin balleessin hundi ija kee
imimmaaniin jaamsuu fi garaa kee gaddisiisuuf hambifama; ijoolleen kee hundinuus
umurii ijoollummaatti du'u.
34 " 'Wanni ilmaan kee lamaan Hofniinii fi Fiinehaasitti dhufu siif mallattoo ta'a;
isaan lachanuu guyyuma tokkotti dhumu. 35 Ani luba amanamaa kan akka waan
garaa koo keessa jiruu fi akka waan yaada koo keessa jiruutti hojjetu tokko ofii kootiif
nan kaafadha; ani isaaf mana bara baraa nan ijaara; innis fuula dibamaa kootii dura
bara baraan tajaajila. 36 Namni sanyii kee keessaa hafe hundis, "Akka ani muraa
buddeena tokkoo illee nyaadhuuf hojii lubummaa keessaa tokko irratti na ramadi"
jedhe dhufee meetii tokkoo fi buddeena tokkoof fuula isaa duratti kufee sagadaaf.' "

# 3

### *WAAQAYYO Saamu'eelin Waame*

1 Saamu'eel mucichi fuula Eelii duratti WAAQAYYOON tajaajilaa ture. Bara sana
keessa dubbiin WAAQAYYOO yeroo tokko tokko malee hin dhufu ture; mul'anni
baay'eenis hin jiru ture.
2 Eeliin inni iji isaa arguu dadhabe sun halkan tokko idduma isaa kan durii
rafaa ture. 3 Saamu'eelis mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa iddoo taabonni
Waaqaa ture sana ture; ibsaan Waaqaa amma illee hin dhaamne ture. 4 WAAQAYYOS
Saamu'eelin ni waame.
Saamu'eelis, "Ani asin jira" jedhee deebise. 5 Fiigees gara Eelii dhaqee, "Ati waan
na waamteef ani kunoo dhufeera" jedheen.
Eeliin garuu, "Ani si hin waamne; deebi'ii ciisi" jedheen; innis deebi'ee ciise.
6 Ammas WAAQAYYO, "Saamu'eel!" jedhee waame; Saamu'eelis ka'ee Eelii bira
dhaqee, "Ati waan na waamteef ani kunoo dhufeera" jedhe.
Eeliinis, "Yaa ilma koo ani si hin waamne; dhaqii ciisi" jedheen.
7 Yeroo sana Saamu'eel WAAQAYYOON hin beeku ture; dubbiin WAAQAYYOS isaaf hin
ibsamne ture.

8 Waaqayyo yeroo sadaffaadhaaf Saamu’eelin ni waame; Saamu’eelis ka’ee gara
Eelii dhaqe, “Ati waan na waamteef ani kunoo dhufeera” jedhe.

Eliin yeroo kana akka Waaqayyo mucicha waamaa ture hubate. 9 Kanaafuu Eeliin
Saamu’eeliin, “Dhaqii ciisi; yoo inni si waame, ‘Garbichi kee dhaga’aa jiraatii yaa
Waaqayyo dubbadhu’ jedhi” jedheen. Kanaafuu Saamu’eel dhaqee iddoo ofii isaa
ciise.
10 Waaqayyos dhufee achi dhaabatee akkuma duraan waametti, “Saamu’eel!
Saamu’eel!” jedhee waame.

Saamu’eelis, “Garbichi kee dhaga’aa jiraatii dubbadhu” jedhe.

11 Waaqayyos Saamu’eeliin akkana jedhe: “Kunoo ani waan gurra namaatti
hin tolle tokko Israa’elitti fiduufin jira. 12 Gaafas ani waanan maatii Eelii irratti
dubbadhe hundumaa jalqabaa hamma dhumaatti Eeliitti nan fida. 13 Sababii waa’ee
cubbuu inni iyyuu beeku tokkootiif ani maatii isaa akkan adabu isatti himeeraatii.
Ilmaan isaa waan jibbisiisaa hojjetan; inni garuu isaan hin dhowwine. 14 Kanaaf
ani, ‘Cubbuun mana Eelii aarsaadhaan yookaan qalmaan hin haqamu’ jedhee
kakadheera.”
15 Saamu’eel hamma bari’utti ni rafe; ergasii balbala mana Waaqayyoo bane.
Innis mul’ata sana Eeliitti himuu sodaatee ture. 16 Eeliin garuu ofitti isa waamee,
“Saamu’eel, yaa ilma koo” jedhe.

Saamu’eelis deebisee, “Ani asin jira” jedheen.

17 Eeliinis, “Inni maal jedhee sitti dubbate? Na hin dhoksin; yoo ati waan inni
sitti hime tokko illee na dhoksite Waaqni waan hamaa sitti haa fidu; sittis haa cimsu”
isaan jedhe. 18 Kanaaf Saamu’eel waan tokko illee utuu hin dhoksin waan hundumaa
isatti hime. Eeliinis, “Inni Waaqayyoo dha; waan isatti tole haa godhu” jedhe.

19 Saamu’eel guddachaa deeme; Waaqayyos isa wajjin ture; dubbii isaa keessaas
tokko iyyuu lafa hin bu’u ture. 20 Israa’eloonni Daanii hamma Bersheebaatti argaman
hundi akka Saamu’eel raajii Waaqayyoo ta’ee fudhatame beekan. 21 Waaqayyo
ammas Shiilootti mul’ate; inni karaa dubbii isaatiin Saamu’eelitti of mul’iseeraatii.

# 4

1 Dubbiin Saamu’eel Israa’el hunda bira ga’e.

### *Filisxeemonni Taabota Booji’an*

Israa’eloonni Filisxeemota waraanuudhaaf ba’an. Israa’eloonnis Ebeenezer bira,
Filisxeemonni immoo Afeeq keessa qubatan. 2 Filisxeemonni Israa’eloota waraanu-
udhaaf loltoota isaanii hiriirsan; akkuma waraanni ho’eenis Israa’eloonni Filisx-
eemotaan mo’atamanii namoonni kumni afur dirree waraanaa irratti ajjeefaman.
3 Yommuu loltoonni Israa’el qubatatti deebi’anitti maanguddoonni Israa’el, “Har’a
Waaqayyo maaliif fuula Filisxeemotaa duratti akka nu mo’atamnu godhe? Akka inni
nu wajjin deemee harka diinota keenyaa jalaa nu baasuuf taabota kakuu Waaqayyoo
Shiiloodhaa haa fidnu” jedhan.

4 Kanaafuu sabni sun gara Shiilootti namoota erguudhaan taabota kakuu
Waaqayyoo Waan Hunda Danda’u isa kiirubeel gidduu taa’u sanaa fidan. Ilmaan
Eelii lamaan Hofniinii fi Fiinehaasis taabota kakuu Waaqaa wajjin achi turan.

5 Yommuu taabonni kakuu Waaqayyoo gara qubataatti galetti Israa’eloonni
hundinuu iyya gammachuu guddaa isaa iyyanii lafa sochoosan. 6 Filisxeemonnis
yommuu iyya guddaa sana dhaga’anitti, “Iyyi guddaan qubata Ibrootaa keessaa
dhaga’amu kun maali?” jedhanii gaafatan.

Yommuu akka taabonni kakuu Waaqayyoo achi gale hubatanittis, 7 Filisxeemonni
sodaatanii akkana jedhan; “Waaqni tokko gara qubata Ibrootaa dhufeera; nuuf
wayyoo! Wanni akkasii ta’ee hin beeku. 8 Nuuf wayyoo! Eenyutu waaqota jajjaboo

kanneen harkaa nu baasa? Isaan waaqota gammoojjii keessatti dha'icha garaa
garaatiin warra Gibxi dha'anii dha. 9 Yaa Filisxeemotaa jabaadhaa! Dhiirummaa
keessanis argisiisaa. Yoo kanaa achii akkuma isin jara garboomfattan sana Ibroonni
garba isin godhatu. Dhiirummaa keessan argisiisaatii lolaa!"
10 Kanaafuu Filisxeemonni ni lolan; Israa'eloonnis mo'atamanii tokkoon tokkoon
namaa gara dunkaana ofii isaatti baqate. Nama baay'eetu dhume; Israa'elis loltoota
lafoo kuma soddoma dhabde. 11 Taabonni Waaqaa ni booji'ame; ilmaan Eelii
lamaanuu Hofniinii fi Fiinehaas ni du'an.

*Eeliin Du'uu Isaa*

12 Gaafuma sana namichi Beniyaam tokko wayyaa isaa tarsaasee, mataa isaatti
daaraa firfirsee fiigaa gara Shiiloo dhaqe. 13 Eeliinis yeroo namichi achi ga'etti sababii
waa'ee taabota Waaqaatiif garaan isaa raafameef waa dhaga'uuf jedhee karaa cina
barcuma irra taa'ee eegaa ture. Yeroo namichi sun magaalaa seenee waan ta'e
hundumaa odeessetti warri magaalaa sanaa hundi ni iyyan.
14 Eeliinis yommuu iyya sana dhaga'etti, "Kun iyya maaliitii?" jedhee gaafate.
Namichi sunis dafee dhufee Eeliitti hime; 15 yeroo kana Eeliin nama waggaa
sagaltamii saddeet waan tureef iji isaa arguu dadhabee ture. 16 Namichis, "Ani
ammuma adda waraanaatii dhufuu koo ti; waraana keessaa miliqee ba'uun koos
har'uma" jedhee Eeliitti hime.
Eeliinis, "Yaa ilma ko, maaltu ta'e ree?" jedhee gaafate.
17 Namichi oduu fide sun deebisee, "Israa'eloonni Filisxeemota duraa baqatan;
loltoota irras dhumiisa guddaatu ga'e; ilmaan kee lamaanis Hofniinii fi Fiinehaas
ajjeefamaniiru; taabonni Waaqaas booji'ameera" jedheen.
18 Yommuu inni waa'ee taabota Waaqaa dubbatettis, Eeliin barcuma isaa kan
balbala cina ture sana irraa dugda duubatti kufe. Nama dulloomaa dhagni isaa
ulfaatu waan tureefis mormi isaa cabee du'e. Innis waggaa afurtamaaf bulchaa
Israa'el ture.
19 Niitiin ilma isaa Fiinehaas ulfa da'a geesse turte. Isheenis yommuu akka taabonni
Waaqaa booji'amee fi akka abbaan dhirsa isheetii fi dhirsi ishee du'an dhageessetti
ciniinsuun itti hammaatee jilbeenfattee deesse. 20 Yeroo isheen du'uu geessettis
dubartoonni ishee gargaaraa turan, "Dhiira deesseertaa jabaadhu" jedhaniin. Isheen
garuu homaa hin deebifne yookaan yaadatti hin qabanne.
21 Sababii taabonni Waaqaa booji'amee fi sababii abbaan dhirsa isheetii fi dhirsi
ishee du'aniif, "Ulfinni Israa'el irraa fagaateera" jechuudhaan maqaa mucaa ishee
Iikaabood jettee moggaafte. 22 Isheenis, "Taabonni Waaqaa waan booji'ameef ulfinni
Israa'el irraa fagaateera" jette.

# 5

*Filisxeemonni Taabota Booji'uu Isaanii*

1 Filisxeemonni erga taabota Waaqaa booji'anii booddee Ebeenezerii fuudhanii
Ashdooditti geessan. 2 Ergasiis taabota sana gara galma Daagonitti geessanii Daagon
bira kaa'an. 3 Namoonni Ashdood yommuu guyyaa itti aanu ganamaan ka'anitti
Daagon taabota WAAQAYYOO duratti addaan lafatti gombifamee argan! Isaanis lafaa
kaasanii iddoo isaatti isa deebisan. 4 Garuu yommuu isaan guyyaa itti aanu ganama
ka'anitti Daagon taabota WAAQAYYOO duratti addaan lafatti gombifamee ture! Mataa
fi harki isaas irraa caccabee gulantaa balbalaa irra bubbu'ee ture; dhagna isaa qofatu
hafe. 5 Wanni luboonni Daagon yookaan namni galma Daagon kan Ashdood jiru sana
ol seenu kam iyyuu hamma har'aatti gulantaa balbalaa irra hin ejjenneef kanuma.
6 Harki WAAQAYYOO saba Ashdoodii fi naannoo ishee irratti jabaate; badiisa isaanitti
fide; iitoos isaanitti naqe. 7 Namoonni Ashdoodis yeroo waan ta'aa ture arganitti,

“Sababii harki isaa nuu fi Waaqa keenya Daagon irratti jabaateef taabonni Waaqa
Israa’el as turuu hin qabu” jedhan. 8 Kanaaf bulchitoota Filisxeem hunda walitti
waamanii, “Taabota Waaqa Israa’el maal gochuu qabna?” jedhanii isaan gaafatan.
Isaanis, “Taabota Waaqa Israa’el gara Gaati geessaa!” jedhanii deebisan. Kanaaf
taabota Waaqa Israa’el achii baasan.
9 Erga taabota sana achii baasanii booddee harki Waaqayyoo magaalaa sanatti
jabaatee badiisa guddaa fide. Namoota magaalaa sana jiraatanis xinnaadhaa hamma
guddaatti dha’e; akka dhiitoon isaanitti yaa’us godhe. 10 Kanaafuu taabota Waaqaa
gara Eqroonitti ergan.
Akkuma taabonni Waaqaa Eqroon seeneenis namoonni Eqroon, “Isin nuu
fi namoota keenya fixuudhaaf taabota Waaqaa nutti fiddan” jedhanii iyyan.
11 Kanaafuu bulchitoota Filisxeem hunda walitti waamanii, “Taabota Waaqa Israa’el
asii fageessaa; iddoo isaatti haa deebi’u; yoo kanaa achii inni nuu fi saba keenya fixa”
jedhaniin. Sodaan du’aa magaalaa sana guutee tureetii; harki Waaqaas akka malee
itti jabaatee ture. 12 Warri hin du’inis waan dhiitoon isaanitti yaa’eef iyyi isaanii
samiitti ol ba’e.

# 6

*Taabonni Gara Israa’elitti Deebi’e*

1 Taabonni Waaqayyoos Filisxeem keessa ji’a torba ture. 2 Filisxeemonnis lubootaa
fi ilaaltota waamanii, “Taabota Waaqayyoo maal haa goonu? Iddoo isaatti haala
akkamiitiin akka deebifnu nutti himaa” jedhaniin.
3 Isaanis deebisanii, “Yoo taabota Waaqa Israa’el deebiftan, kennaa yakkaa wajjin
malee duwwaa isaa hin deebisinaa; ergasii isin ni fayyitu; harki isaas maaliif akka
isin irraa hin kaafamin ni beektu” jedhaniin.
4 Filisxeemonnis, “Kennaan yakkaa kan nu erginuuf maal ta’uu qaba?” jedhanii
gaafatan.
Isaanis akkana jedhanii deebisan; “Sababii dha’ichi isinii fi bulchitoota keessan
rukute tokkuma ta’eef akkuma baay’ina bulchitoota Filisxeemotaatti dhiitoo warqee
shananii fi hantuuta warqee shan ergaa. 5 Fakkii dhiitoo fi fakkii hantuutaa
kanneen biyya balleessaa jiranii hojjedhaa; Waaqa Israa’eliif immoo ulfina kennaa.
Yoos inni harka isaa isin irraa, waaqota keessanii fi biyya keessan irraa ni kaasa
ta’a. 6 Isin maaliif akka namoota Gibxiitii fi akka Fara’oon mataa jabeeyyii taatu?
Yeroo Waaqayyo adaba cimaadhaan isaan adabetti, isaan akka Israa’eloonni gara
barbaadan deemaniif hin eeyyamneefii?
7 “Kanaafuu gaarii haaraa fi saawwan hoosisan kan waanjoon takkumaa irra
hin kaa’amin lama qopheessaa. Saawwan sanas gaarii sanatti camadaa; jabboota
isaanii garuu gara manaatti biraa deebisaatii itti cufaa. 8 Taabota Waaqayyoo sanas
fuudhaatii gaarii irra kaa’aa; mi’a warqee aarsaa yakkaatiif ergitan sanas sanduuqa
taabota Waaqayyoo bira jiru keessa kaa’aa. Akka inni karaa barbaade deemuufis
gad dhiisaa; 9 garuu ija isa irraa hin buqqifatinaa. Yoo inni gara biyya isaa gara Beet
Shemeshitti qajeele rakkina guddaa kana Waaqayyotu nutti fide. Yoo gara sanatti
qajeeluu baate garuu dha’ichi kun akkuma tasaa nutti dhufe malee Waaqayyo nutti
hin fidne.”
10 Isaanis akkasuma godhan. Saawwan lamaan fuudhanii gaariitti camadan;
jabboota isaanii manatti deebisanii itti cufan. 11 Isaanis taabota Waaqayyoo sana
gaariitti fe’an. Sanduuqa hantuuta warqeetii fi fakkii iitoo baatu sanas isa wajjin
fe’an. 12 Saawwan sunis karaa qabatanii utuu bitaa mirgatti hin gorin mar’achaa
gara Beet Shemeshitti qajeelan. Bulchitoonni Filisxeemotaas hamma daarii Beet
Shemeshitti isaan faana bu’an.

13 Yeroo sanattis namoonni Beet Shemeshi sulula keessaa qamadii haamaa turan;
isaanis yommuu ol jedhanii taabota sana arganitti akka malee gammadan. 14 Gaariin
sunis lafa qotiisaa Iyyaasuu nama Beet Shemeshi bira ga'ee kattaa guddaa tokko
cina dhaabate. Namoonnis muka gaarii sanaa falaxanii saawwan sana aarsaa
gubamu godhanii WAAQAYYOOF dhi'eessan. 15 Warri Lewwotaas taabota WAAQAYYOO
sanduuqicha mi'a warqee baatu sana wajjin gad buusanii kattaa guddaa irra kaa'an;
gaafuma sanas namoonni Beet Shemeshi aarsaa gubamuu fi qalma WAAQAYYOOF
dhi'eessan. 16 Bulchitoonni Filisxeemotaa shanan erga waan kana hunda arganii
booddee gaafuma sana Eqroonitti deebi'an.

17 Iiti warqee kan Filisxeemonni aarsaa yakkaa godhanii WAAQAYYOOF ergan kanaa
dha; isaanis tokko Ashdoodiif, tokko Gaazaaf, tokko Eqrooniif, tokko Gaatiif, tokko
immoo Ashqalooniif ergan. 18 Baay'inni hantuutota warqees akkuma baay'ina
magaalaawwan Filisxeemotaa kanneen bulchitoota shananiif kennamaniitti ture.
Magaalaawwan dallaa jajjaboo qaban kunneenis gandoota of jalaa qabu ture. Kattaan
guddichi isaan taabota WAAQAYYOO isa irra kaa'an sunis lafa qotiisaa Iyyaasuu
namicha Beet Shemeshi keessatti hamma har'aatti dhugaa baatuu dha.

19 Waaqnis sababii isaan taabota WAAQAYYOO keessa ilaalaniif namoota Beet
Shemeshi dha'ee isaan keessaa nama torbaatama ajjeese. Sababii WAAQAYYO akka
malee isaan dha'eef namoonni sun ni boo'an; 20 namoonni Beet Shemeshis, "Eenyutu
fuula WAAQAYYOO, fuula Waaqa qulqulluu kanaa dura dhaabachuu danda'a?
Taabonni kun asii ba'ee eenyu bira haa dhaqu?" jedhanii gaafatan.

21 Ergasii gara Kiriyaati Ye'aariimitti ergamoota erganii, "Filisxeemonni taabota
WAAQAYYOO deebisaniiru; gad kottaatii taabota sana gara keessanitti fudhadhaa"
jedhaniin.

# 7

1 Kanaafuu namoonni Kiriyaati Ye'aariim dhufanii taabota WAAQAYYOO fudhatanii
ol ba'an. Isaanis gara mana Abiinaadaab kan gaara irra jiruutti geessan; akka inni
taabota WAAQAYYOO eeguufis ilma isaa Ele'aazaarin qulqulleessan.

### *Filisxeemonni Mo'atamuu Isaanii*

2 Taabonni sun erga gara Kiriyaati Ye'aariim geeffamee yeroo dheeraa dha;
walumaa galatti waggaa digdama taa'e. Sabni Israa'el hundinuus boo'ichaan
WAAQAYYOTTI deebi'e. 3 Saamu'eelis guutummaa mana Israa'eliin akkana jedhe;
"Yoo isin garaa keessan guutuudhaan WAAQAYYOTTI deebitanii, waaqota ormaatii
fi Ashtooretin waaqeffachuu dhiisuudhaan WAAQAYYOTTI of kennitanii isa qofaaf
tajaajiltan, inni harka Filisxeemotaa jalaa isin ni baasa." 4 Kanaaf Israa'eloonni
Ba'aalii fi Ashtooretin calaasanii WAAQAYYOON qofa tajaajilan.

5 Kana irrattis Saamu'eel, "Isin Israa'eloota hundumaa Miisphaatti walitti qabaa;
anis WAAQAYYOON isiniif nan kadhadhaa" jedhe. 6 Isaanis yommuu Miisphaatti walitti
qabamanitti bishaan waraabanii fuula WAAQAYYOO duratti dhangalaasan. Gaafas
soomanii, "Nu WAAQAYYOTTI cubbuu hojjenneerra" jedhan. Saamu'eelis Miisphaatti
saba Israa'el irratti murtii kenna ture.

7 Yommuu Filisxeemonni akka Israa'el Miisphaatti walitti qabame dhaga'anitti
bulchitoonni Filisxeem isaan waraanuudhaaf ol ba'an. Ijoolleen Israa'elis yommuu
waan kana dhaga'anitti Filisxeemota ni sodaatan. 8 Isaanis Saamu'eeliin, "Akka inni
harka Filisxeemotaa jalaa nu baasuuf gara WAAQAYYO Waaqa keenyaatti nuu iyyuu
hin dhiisin" jedhan. 9 Saamu'eelis ilmoo hoolaa kan hodhu tokko fuudhee jiraa isaa
aarsaa gubamu godhee WAAQAYYOOF dhi'eesse. Qooda Israa'elis gara WAAQAYYOOTTI
iyye; WAAQAYYOS deebii kenneef.

10 Utuu Saamu’eel aarsaa gubamu dhi’eessaa jiruu Filisxeemonni Israa’elin loluuf
dhi’aatan. Gaafas garuu WAAQAYYO sagalee qaqawwee guddaa isaa isaan irratti
qaqawweessa’ee waan isaan joonjesseef Filisxeemonni fuula Israa’elootaa duratti
ni mo’ataman. 11 Israa’eloonnis Miisphaadhaa ba’anii Filisxeemota karaa irratti
gorra’aa hamma Beet Kaari jalaatti isaan ari’an.
12 Ergasii Saamu’eel dhagaa tokko fuudhee Miisphaa fi Sheen gidduu dhaabe.
Maqaa isaas, “WAAQAYYO hamma har’aatti nu gargaareera” jedhee, “Ebeenezer”
jedhee moggaase.
13 Kanaafuu Filisxeemonni waan mo’atamaniif lammata deebi’anii biyya Is-
raa’elootaa hin weerarre. Bara jireenya Saamu’eel guutuu harki WAAQAYYOO Filisx-
eemota irratti ni jabaate. 14 Magaalaawwan Filisxeemonni Israa’el irraa fudhatanii
turan kanneen Eqroonii jalqabanii hamma Gaatitti jiran hundinuu Israa’elootaaf ni
deebi’an. Israa’elis daangaa ishee Filisxeemota harkaa baafate. Israa’elii fi Amoorota
gidduuttis nageenyi bu’ee ture.
15 Saamu’eelis bara jireenya isaa guutuu abbaa murtii saba Israa’el ture. 16 Innis
wagguma waggaan Beet’eel, Gilgaalii fi Miisphaa keessa naanna’ee iddoo hundatti
abbaa murtii saba Israa’el ture. 17 Ergasiis gara Raamaa iddoo jireenya isaatti
deebi’ee achittis saba Israa’el irratti murtii kenna ture. Achittis WAAQAYYOOF iddoo
aarsaa ijaare.

# 8

*Israa’el Mootii Moosifachuuf Gaafatte*

1 Saamu’eel yeroo dulloometti ilmaan isaa abbootii murtii godhee Israa’eliif muude.
2 Maqaan ilma isaa hangaftichaa Yoo’eel, kan isa lammaffaa immoo Abiyaa jedhama;
isaanis Bersheebaa keessatti abbootii murtii turan. 3 Ilmaan isaa garuu fakkeenya
abbaa isaanii duukaa hin buune. Bu’aa hin malle argachuuf jedhanii matta’aa
fudhatan; murtiis jal’isan.
4 Kanaafuu maanguddoonni Israa’el wal ga’anii Saamu’eel bira gara Raamaa
dhufan; 5 isaanis, “Ati dulloomteerta; ilmaan kee immoo fakkeenya kee duukaa
hin buune; akkuma saboonni kaan hundi mootii qaban sana mootii nu bulchu nuu
muudi” jedhaniin.
6 Garuu, “Mootii nu bulchu nuuf muudi” jechuun isaanii waan Saamu’eelin hin
gammachiisiniif inni WAAQAYYOON kadhate. 7 WAAQAYYOS akkana isaan jedhe; “Waan
sabni sun siin jedhu hunda dhaga’i; isaan akka ani mootii isaanii hin taaneef na
tuffatan malee si hin tuffanne. 8 Isaan waanuma gaafa ani Gibxii isaan baasee
jalqabee hamma har’aatti na dhiisanii waaqota gara biraa tajaajiluudhaan natti
hojjetan sana sittis hojjechaa jiru. 9 Egaa amma waan isaan jedhan dhaga’i; garuu
sirriitti isaan akeekkachiisiitii haala mootii isaan irratti moo’u sanaa isaanitti himi.”
10 Saamu’eelis dubbii WAAQAYYOO hunda namoota akka mootiin isaaniif moosi-
famuuf gaafatan sanatti hime. 11 Akkanas isaaniin jedhe; “Wanni mootiin isin
irratti moo’u sun godhu kana: Inni ilmaan keessan fudhatee akka isaan gaariiwwan
isaa irra tajaajilan godha; abbootii fardaas isaan godhata; isaanis gaariiwwan isaa
dura fiigu. 12 Gariin isaanii ajajjuuwwan kumaa, gariin isaanii immoo ajajjuuwwan
shantamaa, kaan immoo akka isaan lafa isaa qotanii midhaan isaa walitti qaban
godha; warra hafanis akka isaan mi’a lolaatii fi mi’a gaariiwwan isaa hojjetan godha.
13 Intallan keessan fudhatee qopheessitoota dibata urgaa’aa, qopheessitoota ittoo fi
tolchitoota buddeenaa godhata. 14 Lafa qotiisaa keessan isa filatamaa, iddoo dhaabaa
wayiniitii fi iddoo itti ejersa cuunfan isin irraa fudhatee hojjettoota isaatiif kenna.
15 Midhaanii fi ija wayinii keessanii harka kudhan keessaa harka tokko fuudhee
qondaaltota isaatii fi hojjettoota isaatiif kenna. 16 Garboota dhiiraatii fi garboota

dubartii, horii gagaarii fi harroota keessan fudhatee hojii ofii irratti bobbaafata.
17 Bushaayee keessan keessaa harka kudhan keessaa harka tokko ni fudhata; isin
mataan keessanuu garboota isaa taatu. 18 Gaafas isin mootii keessan isa ofii keessaniif
filattan sana jalaa furamuuf ni iyyitu; garuu guyyaa sana WAAQAYYO deebii isinii hin
kennu."
19 Namoonni sun garuu Saamu'eelin dhaga'uu didanii akkana jedhan; "Hin ta'u!
Nu mootii nu bulchu feena. 20 Ergasiis akkuma saboota kaanii taana; mootiin keenyas
nu hooggana; nu dura ba'ees lola keenya nuu lola."
21 Saamu'eel yeroo waan namoonni sun jedhan hunda dhaga'etti fuula WAAQAYYOO
duratti waanuma sana deebisee dubbate. 22 WAAQAYYOS Saamu'eeliin, "Waan isaan
jedhan dhaga'iitii mootii moosisiif" jedhe.

Saamu'eelis namoota Israa'eliin, "Tokkoon tokkoon keessan magaalaa keessanitti deebi'aa" jedhe.

# 9

*Saamu'eel Saa'olin Dibuu Isaa*

1 Gosa Beniyaam keessaa namicha jabaa maqaan isaa Qiish jedhamu tokkotu ture;
innis ilma Abii'eel, ilma Xiroor, ilma Bekooraat, ilma namicha gosa Beniyaam sanaa
ilma Afiiyaa ture. 2 Innis dargaggeessa miidhagaa Saa'ol jedhamu tokko qaba ture;
namoota Israa'el keessaa namni isa caalaa miidhagu tokko iyyuu hin turre; inni
gatiittii isaatii olitti nama hunda caalaa dheeraa ture.
3 Yeroo sanas Qiish abbaa Saa'ol jalaa harroonni badnaan, Qiish ilma isaa Saa'oliin,
"Tajaajiltoota keessaa nama tokko fudhadhuutii dhaqii harroota sana barbaadi"
jedhe. 4 Kanaafuu inni biyya gaaraa Efreemii fi naannoo Shaaliishaa jedhamu keessa
naanna'e; garuu harroota hin arganne. Isaanis biyya Sha'aliim keessa darban; ta'us harroonni sun achi hin turre. Ergasiis biyya Beniyaamotaa keessa naanna'an; garuu harroota sana hin arganne.
5 Yommuu biyya Zuufi ga'anittis Saa'ol tajaajilaa isa wajjin ture sanaan, "Sababii abbaan koo yoona waa'ee harrootaa yaaduu dhiisee waa'ee keenya yaadda'uuf kottu ni deebinaa!" jedhe.
6 Tajaajilaan sun garuu deebisee, "Kunoo! Magaalaa kana keessa namni Waaqaa tokko jira; innis guddaa kabajamaa dha; wanni inni jedhu tokko iyyuus lafa hin bu'u. Inni karaa deemuu qabnu nutti hima ta'aatii kottu isa bira dhaqnaa" jedhe.
7 Saa'olis tajaajilaa isaatiin, "Nu yoo dhaqne namichaaf maal kennina? Nyaanni korojoo keenya keessaa dhumeera. Kennaa nama Waaqaatiif geessinu tokko illee hin qabnu. Egaa maal qabna ree?" jedhe.
8 Tajaajilaan sun ammas deebisee, "Kunoo ani meetii saqilii tokko irraa harka afur
keessaa harka tokko qaba. Akka inni karaa deemuu qabnu nutti himuuf waan kana
nama Waaqaatiif nan kenna" jedheen. 9 Bara durii Israa'el keessatti namni Waaqa
kadhachuu dhaqu tokko, "Kottaa gara nama mul'ata arguu dhaqnaa" jedha ture;
sababiin isaa namni har'a raajii jedhamu bara durii nama mul'ata argu jedhama
tureetii.
10 Saa'olis tajaajilaa isaatiin, "Gaarii dha; kottu ni deemnaa" jedhe. Kanaafuu ka'anii gara magaalaa namni Waaqaa sun turee dhaqan.
11 Utuu isaan gara magaalaatti gaara ol ba'aa jiranuu dubarran bishaan waraabuuf deeman arganii, "Namichi mul'ata argu sun as jiraa?" jedhanii gaafatan.
12 Isaanis deebisanii akkana jedhan; "Eeyyee ni jira; inni fuula keessan dura jira.
Namoonni waan gaara sagadaa irratti aarsaa dhi'eessaniif inni amma gara magaalaa
keenyaa dhufeeraatii dafaa. 13 Akkuma magaalaa seentaniin utuu inni nyaataaf
gaaratti ol hin ba'in isa ni argattu. Inni waan qalma sana eebbisuu qabuuf utuu

inni hin dhufin namoonni nyaachuu hin jalqaban; sana booddee warri waamaman ni nyaatu. Ammuma ol ba'aa; daftanii isa ni argattu."
14 Isaanis gara magaalaatti ol ba'an; utuma isaan magaalaa sana seenaa jiranuus Saamu'eel gaara sagadaatti ol ba'uuf jedhee karaatti isaanitti dhufe.
15 Utuu Saa'ol hin dhufin guyyaa tokko dura WAAQAYYO waan kana Saamu'eelitti
mul'isee ture: 16 "Bori yeroo kanatti biyya Beniyaam irraa nama tokko sitti nan erga. Saba koo Israa'el irratti bulchaa godhiitii isa dibi; innis saba koo harka Filisxeemotaa jalaa ni baasa. Sababii iyyi isaa na bira ga'eef, ani saba koo ilaaleeraatii."
17 Saamu'eel yommuu Saa'olin argetti, WAAQAYYO, "Namichi ani waa'ee isaa sitti dubbadhe sun isa kana; inni saba koo ni bulcha" jedheen.
18 Saa'ol karaa irratti Saamu'eelitti dhi'aatee, "Maaloo manni namicha mul'ata argu sanaa eessa akka ta'e natti himtaa?" jedhee gaafate.
19 Saamu'eelis akkana jedhee deebise; "Namichi mul'ata argu sun anuma. Isin har'a waan na wajjin nyaata nyaachuu qabdaniif na dura gaara sagadaatti ol ba'aa. Ani immoo bori ganama sin geggeessa; waan garaa kee jiru hundas sitti
nan hima. 20 Waa'ee harroota guyyaa sadiin dura badan sanaa hin yaadda'in; isaan argamaniiru. Hawwiin Israa'el hundi eenyuufii? Si'ii fi mana abbaa keetiitiif mitii?"
21 Saa'olis deebisee, "Ani nama gosa Beniyaam kan gosoota Israa'el hunda keessaa gad aanaa ta'e sana mitii? Maatiin koo immoo maatiiwwan gosa Beniyaam hunda keessaa gad aana mitii? Yoos ati maaliif waan akkanaa natti dubbatta ree?" jedhe.
22 Saamu'eelis Saa'olii fi tajaajilaa Saa'ol galmatti ol galchee warra nyaataaf
waamaman kanneen soddoma ta'aniin gara olii isaan teessise. 23 Saamu'eel namicha nyaata qopheessuun, "Gumaa foonii isa ani kophaa kaa'i siin jedhe sana fidi" jedhe.
24 Namichi nyaata qopheessu sunis foon lukaa guutummaatti fuudhee fuula Saa'ol dura kaa'e. Saamu'eelis, "Kun waan siif kaa'amee dha. Kunis yeroo ani, 'Ani keessummoota waameera' jedhee jalqabee yeroo murtaa'aa kanaaf kophaatti siif kaa'ameeraatii nyaadhu" jedheen. Saa'olis gaafa sana Saamu'eel wajjin nyaate.
25 Erga gaara sagadaa irraa gara magaalaatti gad bu'anii booddee Saamu'eel bantii
mana isaa irratti Saa'ol wajjin haasa'e. 26 Isaanis ganama barii ka'an; Saamu'eelis bantii manaa irraa Saa'olin waamee, "Qophaa'i ani sin geggeessa" jedheen. Yeroo
Saa'ol qophaa'ettis innii fi Saamu'eel walii wajjin gad ba'an. 27 Utuu gara daarii magaalaatti gad bu'aa jiranuus Saamu'eel Saa'oliin, "Akka tajaajilaan kee nu dursee deemuuf itti himi" jedhe. Tajaajilaan sunis akkuma itti himame godhe; ergasii Saamu'eel, "Akka ani ergaa Waaqaa sitti himuuf ati xinnoo as turi" jedhe.

# 10

1 Ergasii Saamu'eel zayitii bilillee tokko fuudhee mataa Saa'ol irratti dhangalaasee isa dhungatee akkana jedhe; "Akka ati dhaala isaa irratti mootuuf WAAQAYYO si hin
dibnee? 2 Har'a ati yeroo na biraa deemtutti biyya Beniyaam keessatti awwaala Raahel biratti iddoo Zelzaa jedhamutti namoota lama ni argita. Isaanis, 'Harroonni ati barbaadaa turte sun argamaniiru. Amma abbaan kee waa'ee harrootaa yaaduu dhiisee waa'ee kee, "Waa'ee ilma koo ani maal godhu laata?" jedhee yaadda'aa jira' siin jedhu.
3 "Ergasiis achii kaatee hamma qilxuu Taaboor guddichaatti ni deemta. Achittis namoonni sadii kanneen gara Waaqaa, gara Beet'eelitti ol ba'aa jiran, inni tokko ilmoolee re'ee sadii, tokko immoo daabboo sadii, inni kaanis daadhii wayinii
qalqalloo tokko baatanii sitti dhufu. 4 Isaanis nagaa si gaafatanii daabboo lama siif kennu; atis isaan harkaa ni fudhatta.
5 "Sana booddees iddoo hoomaan waraana Filisxeem jiru gara Gibe'aa gara tulluu Waaqaa ni dhaqxa. Atis akkuma magaalaatti dhi'aatteen gareen raajotaa tokko

masiinqoo, dibbee, ulullee fi baganaa qabatee gaara gubbaadhaa gad sitti dhufa;
isaanis raajii ni dubbatu. 6 Hafuurri WAAQAYYOO humnaan sirra ni bu’a; atis isaan
wajjin raajii dubbatta; geeddaramtees nama biraa taata. 7 Yeroo mallattoowwan
kunneen fiixaan ba’anitti waan harka keetti dhufe hunda hojjedhu; Waaqni si wajjin
jiraatii.

8 “Ati na dura gara Gilgaalitti gad bu’i. Anis aarsaa gubamuu fi qalma nagaa
dhi’eessuuf gara kee nan dhufa; ati garuu hamma ani dhufee waan ati gootu sitti
himutti guyyaa torba turuu qabda.”

### *Saa’ol Mootii Taasifame*

9 Yeroo Saa’ol Saamu’eelin dhiisee deemuuf fuula isaa garagalfatetti, Waaqni
Saa’oliif qalbii haaraa kenne. Mallattoowwan kunneen hundinuus gaafas raawwata-
man. 10 Yeroo isaan Gibe’aa ga’anittis gareen raajotaa tokko isatti dhufe; Hafuurri
Waaqaas isa irra bu’e; innis isaan wajjin raajii dubbate. 11 Warri duraan isa beekan
hundi yeroo raajota wajjin raajii dubbachuu isaa arganitti, “Ilma Qiishiitti maaltu
dhufe? Saa’olis garee raajotaa keessaa tokkoo?” jedhanii wal gagaafatan.

12 Namichi achi jiraatu tokkos, “Abbaan isaanii eenyu?” jedhee gaafate. Kanaafuu
jechi, “Saa’olis garee raajotaa keessaa tokkoo?” jedhu sun mammaaksa ta’e.
13 Saa’olis erga raajii dubbachuu raawwatee booddee gaara sagadaatti ol ba’e.

14 Obboleessi abbaa Saa’olis tajaajilaa isaatiin, “Isin eessa dhaqxan?” jedhee
gaafate.

Saa’olis, “Harroota barbaacha deemne; garuu yommuu deebinetti Saamu’eel bira dhaqne” jedhee deebise.

15 Obboleessi abbaa Saa’ol immoo, “Waan Saamu’eel siin jedhe natti himi” jedhe.

16 Saa’olis deebisee, “Inni akka harroonni argaman nutti himeera” jedhe; garuu
waan akka inni mootii ta’u Saamu’eel itti hime sana obboleessa abbaa isaatti hin
himne.

17 Saamu’eelis namoota Israa’el gara Miisphaatti fuula WAAQAYYOO duratti walitti
waamee 18 akkana isaaniin jedhe; “WAAQAYYO Waaqni Israa’el akkana jedha: ‘Ani
Israa’elin biyya Gibxiitii baaseera; harka warra Gibxii fi harka mootummoota isaan
cunqursaa turan hundaa jalaas isin fureera.’ 19 Isin garuu amma Waaqa keessan isa
dhiphina keessanii fi rakkina keessan hunda jalaa isin baase sana dhiiftaniirtu. Isin,
‘waawuu; mootii nu bulchu nuu muudi’ jettaniirtu. Kanaafuu gosa gosaa fi balbala
balbala keessaniin fuula WAAQAYYOO duratti of dhi’eessaa.”

20 Yommuu Saamu’eel gosoota Israa’el hunda fidettis gosti Beniyaam ni filatame.
21 Ergasiis inni gosa Beniyaam balbala balbalaan fuula duratti dhi’eessee balballi
Maxriit filatame. Dhuma irrattis Saa’ol ilmi Qiish ni filatame. Inni garuu yommuu isa
barbaadanitti hin argamne. 22 Kanaaf namoonni, “Namichi dhufee jiraa?” jedhanii
ammas WAAQAYYOON gaafatan.

WAAQAYYOS, “Eeyyee; garuu inni mi’a keessa dhokatee jira” jedhe.

23 Isaanis fiiganii achii isa fidan. Innis yeroo dhufee isaan gidduu dhaabatetti
gatiittii isaatii olitti nama hunda caalaa dheeraa ture. 24 Saamu’eelis saba sana
hundaan, “Namicha WAAQAYYO isa filate argituu? Saba hunda keessaa kan akka isaa
tokko iyyuu hin jiru” jedhe.

Namoonnis, “Mootichi bara baraan haa jiraatu!” jedhanii iyyan.

25 Saamu’eelis seera mootummaan sun ittiin bulu namootaaf ibse. Kitaaba
keessattis barreessee fuula WAAQAYYOO dura kaa’e. Ergasii Saamu’eel namoota hunda
gara mana isaaniitti of irraa geggeesse.

26 Saa’ol garuu Gibe’aatti deebi’ee mana ofii isaatti gale; namoonni jajjaboon
Waaqni yaada isaanii kakaases isa wajjin deeman. 27 Garuu namoonni kashlabboonni

tokko tokko, "Namni kun akkamitti nu oolchuu danda'a?" jedhan. Isas ni tuffatan. Kennaa tokko illees hin fidneef. Saa'ol garuu ni cal'ise.

# 11

### *Saa'ol Magaalaa Yaabeesh Baraare*

1 Naahaash namichi Amoon sun ol ba'ee Yaabeesh Gili'aadin marse. Namoonni Yaabeesh hundinuus Naa'aashiin, "Kottu walii galtee godhannaa; nus siif hojjennaa" jedhan.

2 Naahaash namichi Amoon garuu, "Ani kanan isin wajjin walii galtee godhadhu yoo ija mirgaa tokkoo tokkoo keessanii isin keessaa baasee akkasiin Israa'el hunda salphise qofa" jedhee deebiseef.

3 Maanguddoonni Yaabeesh immoo, "Akka nu guutummaa Israa'el keessa ergamoota ergannuuf guyyaa torba nuuf obsi; yoo namni nu oolchu tokko iyyuu jiraachuu baate nu siif bulla" isaan jedhan.

4 Ergamoonni kunneenis yommuu gara Gibe'aa iddoo Saa'ol jiraatu dhufanii waan kana namootatti himanitti, namoonni hundi sagalee ol fudhatanii ni boo'an. 5 Yeroo
sanatti Saa'ol sangoota isaa oofaa iddoo qonnaatii gala ture; innis, "Sabni kun maal ta'ee boo'a?" jedhee gaafate. Isaanis waan namoonni Yaabeesh jedhan sana isatti himan.

6 Yeroo Saa'ol dubbii kana dhaga'ettis Hafuurri Waaqaa humnaan isa irra bu'e;
innis aaree boba'e. 7 Innis sangoota cimdii tokko fuudhee kukkutee foon isaanii harka
ergamootaatti erguudhaan, "Sangoonni nama Saa'olii fi Saamu'eelin duukaa hin buune kamii iyyuu akkas ta'u" jedhee guutummaa Israa'el keessa labse. Sodaachifni WAAQAYYOOS waan nama hunda qabateef namni hundinuu akkuma nama tokkootti
ba'e. 8 Saa'ol iddoo Bezeq jedhamutti walitti isaan qabe; baay'inni Israa'elootaa kuma
dhibba sadii, kan warra Yihuudaa immoo kuma soddoma ture.

9 Isaanis ergamoota dhufan sanaan, "Namoota Yaabeesh Gili'aadiin, 'Bor yeroo aduun ho'utti bilisa baatu' jedhaatii itti himaa" jedhaniin. Yommuu ergamoonni sun dhaqanii waan kana isaanitti odeessanitti warri Yaabeesh akka malee gammadan.
10 Isaanis namoota Amooniin, "Nu bor harka keenya isinitti kennanna; isin waan isinitti gaarii fakkaate hunda nu gochuu ni dandeessu" jedhan.

11 Guyyaa itti aanutti Saa'ol namoota isaa garee sadiitti qoode; gara barii halkaniittis dallaa Amoonotaa cabsanii seenuudhaan hamma lafti ho'utti isaan qalan. Kanneen hafan immoo gargar faffaca'an; isaan keessaas namni lama iyyuu wal biratti hin hafne.

### *Saa'ol Mootii Ta'uun Isaa Ni Mirkaneeffame*

12 Ergasiis namoonni Saamu'eeliin, "Warri, 'Saa'ol nurratti mootii ta'uu hin qabu' jedhan eenyu fa'i? Namoota kanneen nuu fidi ni ajjeefnaatii" jedhan.

13 Saa'ol garuu, "Guyyaan kun gaafa itti WAAQAYYO Israa'elin baraare waan ta'eef namni tokko iyyuu har'a hin ajjeefamu" jedhe.

14 Saamu'eel immoo namootaan, "Kottaa Gilgaal dhaqnee mootii ta'uu isaa achitti
mirkaneessinaa" jedhe. 15 Kanaafuu namoonni hundinuu gara Gilgaal dhaqanii
Saa'ol mootii ta'uu isaa fuula WAAQAYYOO duratti mirkaneessan. Aarsaa nagaas fuula WAAQAYYOO duratti dhi'eessan; Saa'olii fi sabni Israa'el hundis guddaa gammadan.

# 12

### *Saamu'eel Uummataan Nagaatti Jedhe*

1 Saamu'eel Israa'eloota hundaan akkana jedhe; "Kunoo ani waan isin naan jettan
hunda dhaga'eera; mootii isin irratti moosiseera. 2 Nama mootii ta'ee isin hoogganus

argattaniirtu. Ani dulloomee arrii baaseera; ilmaan koo kunoo isin wajjin jiru. Ani
ijoollummaa kootii jalqabee hamma har'aatti isin hoogganeera. 3 Ani asan jira; isinis
fuula WAAQAYYOOTII fi fuula mooticha inni dibee duratti dhugaa natti ba'aa. Ani sangaa eenyuun fudhadhe? Ani harree eenyuun fudhadhe? Ani eenyun gowwoomse? Ani eenyun cunqurse? Ittiin ija koo jaamsuuf ani eenyu harkaan matta'aa fudhadhe? Ani yoon fudhadhee jiraadhe isiniif nan deebisa."

4 Isaanis deebisanii, "Ati nu hin gowwoomsine yookaan nu hin cunqursine. Nama tokko harkaa iyyuu waan tokko illee hin fudhanne" jedhan.

5 Saamu'eel immoo, "Akka isin waan tokko illee harka kootti hin argatin WAAQAYYO isinitti dhugaa ba'a; dibamaan isaas har'a dhugaa ba'a" isaaniin jedhe.

Isaanis, "Inni dhuga ba'aa dha" jedhan.

6 Ergasiis Saamu'eel namootaan akkana jedhe; "Kan Musee fi Aroonin dibee
abbootii keessan biyya Gibxii baase WAAQAYYOO dha. 7 Egaa waa'ee hojii qajeelaa
kan WAAQAYYO isinii fi abbootii keessaniif hojjete hunda akka ani fuula WAAQAYYOO duratti isinitti falmuuf as dhaabadhaa.

8 "Yeroo Yaaqoob biyya Gibxi seenetti abbootiin keessan WAAQAYYOOTTI iyyatan; WAAQAYYOS Musee fi Aroon warra abbootii keessan biyya Gibxii baasanii iddoo kana qubachiisan erge.

9 "Isaan garuu WAAQAYYO Waaqa isaanii irraanfatan; kanaaf inni dabarsee harka Siisaaraa ajajaa waraana Haazooriitti, Filisxeemotaa fi mootii Mo'aabitti isaan
gurgure; jarris waraana itti banan. 10 Isaanis WAAQAYYOTTI iyyatanii, 'Nu cubbuu
hojjenneerra; WAAQAYYOON dhiifnee Ba'aalii fi Ashtooretin tajaajilleerra. Amma
garuu harka diinota keenyaatii nu baasi; nus si tajaajilla' jedhan. 11 WAAQAYYO Yerub-
Ba'aalin, Bedaanin, Yiftaa fi Saamu'eelin ergee akka isin nagaan jiraattaniif karaa hundaan harka diinota keessaniitii isin baase.

12 "Yommuu akka Naahaash mootiin Amoonotaa isinitti dhufe argitanitti garuu, WAAQAYYO Waaqni keessan mootii keessan ta'u iyyuu isin, 'Lakki; nu mootii nu
bulchu barbaannaa' jettan. 13 Ammas mootiin isin gaafattanii fi filattan kunoo ti!
WAAQAYYO mootii isin irratti moosiseera. 14 Yoo isin WAAQAYYOON sodaattan, yoo isa tajaajiltan, yoo isaaf ajajamtanii fi yoo ajaja isaatti finciluu baattan, yoo hundi keessanii fi mootiin isin irratti moosifame sun WAAQAYYO Waaqa keessan faana
buutan gaarii dha! 15 Yoo isin WAAQAYYOOF ajajamuu baattanii ajaja isaatti finciltan akkuma abbootii keessanitti ka'e sana harki isaa isinittis ni ka'a.

16 "Egaa jabaadhaa dhaabadhaatii waan guddaa WAAQAYYO fuula keessan duratti
godhu kana ilaalaa! 17 Amma yeroo itti qamadiin haamamuu mitii? Ani akka inni qaqawweessaa fi bokkaa erguuf WAAQAYYOON nan kadhadha. Isin yeroo mootii isin bulchu gaafattanitti akka waan hamaa fuula WAAQAYYOO duratti hojjettan ni hubattu."

18 Kana irratti Saamu'eel WAAQAYYOON waammate; WAAQAYYOS yeruma sana qaqawweessaa fi bokkaa erge. Namoonni hundinuus WAAQAYYOO fi Saamu'eelin akka malee sodaatan.

19 Namoonni hundinuus Saamu'eeliin, "Akka nu tajaajiltoonni kee hin dhumneef WAAQAYYOON Waaqa kee nuuf kadhadhu; nu cubbuu keenya hunda irratti daballee mootiin nurratti akka mo'u gaafachuudhaan daba hojjenneerraatii" jedhan.

20 Saamu'eelis deebisee akkana jedhe; "Hin sodaatinaa; isin hammina kana hunda raawwattaniirtu; ta'us garaa guutuudhaan WAAQAYYOON tajaajilaa malee WAAQAYYO
irraa hin deebi'inaa. 21 Garagaltanii wantoota faayidaa hin qabne kanneen isin fayyaduu yookaan isin oolchuu hin dandeenye duukaa hin bu'inaa; isaan faayidaa
hin qabaniitii. 22 WAAQAYYO sababii maqaa isaa guddaa sanaatiif jedhee saba isaa
hin gatu; WAAQAYYO kan ofii isaa isin godhachuu jaallateeraatii. 23 Akka yaada kootti
ani isinii kadhachuu dhiisee WAAQAYYOTTI yakka hojjechuun narraa haa fagaatu. Ani

karaa gaarii fi qajeelaa ta’e isin nan barsiisa.
24 Garuu WAAQAYYOON sodaadhaa; garaa keessan guutuunis amanamuudhaan isaaf hojjedhaa; waan guddaa inni isinii godhes yaadadhaa.
25 Yoo hammina hojjechuu itti fuftan garuu, isinis mootiin keessanis ni baddu.”

# 13

### *Saamu’eel Saa’olitti Dheekkamuu Isaa*

1 Saa’ol yeroo mootii ta’etti umuriin isaa waggaa soddoma ture; innis waggaa afurtamii lama Israa’elin bulche.
2 Saa’ol namoota kuma sadii Israa’el keessaa filate; kumni lama Mikmaasii fi biyya gaaraa Beet’eelitti Saa’ol wajjin, kumni tokko immoo biyya Beniyaam keessatti Gibe’aatti Yoonaataan wajjin turan. Namoota kaan garuu gara mana mana isaaniitti deebise.
3 Yoonaataan qubata waraana Filisxeemotaa kan Gibe’aa keessa ture sana dha’e; Filisxeemonnis waa’ee kanaa dhaga’an. Kana irratti Saa’ol, “Ibroonni hundinuu haa dhaga’ani!” jedhee biyyattii guutuu keessatti malakata afuufsise.
4 Israa’el hundinuus oduu, “Saa’ol qubata waraana Filisxeemotaa dha’eera; Israa’elis Filisxeemota biratti balfameera” jedhu dhaga’an. Namoonnis Saa’ol duukaa bu’uuf Gilgaalitti walitti qabaman.
5 Filisxeemonnis Israa’eloota waraanuuf gaariiwwan kuma soddoma, namoota gaarii oofan kuma ja’aa fi loltoota akka cirracha galaanaa baay’ataniin hiriiran. Ol ba’aniis karaa ba’a Beet Aawwen iddoo Mikmaas jedhamu qubatan.
6 Namoonni Israa’el yommuu akka haalli isaan keessa jiran sodaachisaa ta’ee fi akka loltoonni isaanii sardamaa jiran arganitti holqa keessa, qoraattii keessa, kattaa keessa, bowwaa keessaa fi boolla keessa dhokatan.
7 Ibroonni tokko tokko immoo Yordaanos ce’anii biyya Gaadii fi Gili’aad dhaqan.
Saa’ol garuu Gilgaalitti hafe; loltoonni isa wajjin turan hundinuus sodaadhaan hollachaa turan.
8 Innis akkuma yeroo Saamu’eel murteesse sanaatti bultii torba eege; Saamu’eel garuu gara Gilgaal hin dhufne; namoonni Saa’olis bibittinnaa’uu jalqaban.
9 Saa’olis, “Aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa as naa fidaa” jedhe. Innis aarsaa gubamu ni dhi’eesse.
10 Akkuma Saa’ol aarsaa dhi’eessee xumureen Saamu’eel dhufe. Saa’olis isa simachuuf gad ba’e.
11 Saamu’eel, “Ati maal gochuu kee ti?” jedhee gaafate.
Saa’olis deebisee akkana jedhe; “Ani yeroon akka sabni bibittinnaa’e, akka ati yeroo murteeffametti hin dhufinii fi akka Filisxeemonni Mikmaasitti walitti qabaman argetti,
12 ‘Filisxeemonni Gilgaalitti natti dhufan; anis surraa WAAQAYYOO hin kadhanne’ jedheen yaade. Kanaafuu aarsaa gubamu dhi’eessuun dirqama natti ta’e.”
13 Saamu’eelis akkana jedhe; “Ati waan siif hin malle hojjete; ajaja WAAQAYYO Waaqni kee siif kenne hin eegne; utuu ajaja isaa eegdee jiraattee inni mootummaa kee Israa’el irratti jabeessee bara baraan ni dhaaba ture.
14 Amma garuu mootummaan kee jabaatee hin dhaabatu; WAAQAYYO nama akka fedhii garaa isaa ta’e argateera; sababii ati ajaja WAAQAYYOO hin eeginiif inni dura deemaa saba isaa godhatee isa muudateera.”
15 Ergasii Saamu’eel Gilgaal dhiisee gara Gibe’aa ishee biyya Beniyaam keessatti argamtuutti ol ba’e; Saa’olis namoota isa wajjin turan ni lakkaa’e. Baay’inni isaaniis gara nama dhibba ja’a ture.

### *Israa’eloonni Meeshaa Waraanaa Hin Qabanne*

16 Yeroo Filisxeemonni Mikmaas keessa qubatanii turanitti Saa’ol, ilmi isaa Yoonaataanii fi namoonni isaan wajjin turan biyya Beniyaam Gibe’aa keessa turan.
17 Gareen weerartootaa iddoo sadiitti qoodamanii qubata Filisxeemotaatii ba’an.

Gareen tokko gara Ofraa kan biyya Shuu'aali keessa jiru sanaatti qajeele; [18] gareen
lammaffaan karaa Beet Horoonitti, gareen sadaffaan immoo karaa daarii irraangadee
Sulula Zeboo'iim kan fuullee gammoojjiitti geessu irra bu'e.

[19] Sababii Filisxeemonni, "Ibroonni goraadee yookaan eeboo ofii isaaniitiif hin
tumsiifatin!" jedhanii turaniif Israa'el hunda keessatti namni sibiila tumu tokko
iyyuu hin argamne. [20] Kanaafuu Israa'eloonni hundi maarashaa isaanii, gasoo isaanii,
dhagaraa fi haamtuu isaanii qarsiifachuuf gara Filisxeemotaatti gad bu'an. [21] Gatiin
ittiin maarashaa fi gasoo qarsiifatan saqilii tokko irraa harka sadii keessaa harka
lama; qorbii, dhagaraa fi meeshaa ittiin qotiyyoo tuttuqan qarsiifachuuf immoo
saqilii tokko irraa harka sadii keessaa harka tokko kaffalu turan.

[22] Kanaafuu guyyaa waraanaa Saa'olii fi Yoonaataan malee loltuun tokko iyyuu
goraadee yookaan eeboo hin qabu ture.

*Yoonaataan Filisxeemota Rukutuu Isaa*

[23] Gaafuma sana gareen Filisxeemotaa tokko gara malkaa Mikmaasitti gad bu'e.

# 14

[1] Gaafa tokko Yoonaataan ilmi Saa'ol dargaggeessa mi'a lolaa isaaf baatuun, "Kottu
gara qubata Filisxeemotaa kan gama kaaniin jiru sanaatti ceenaa" jedhe. Inni garuu
abbaa isaatti hin himne.

[2] Saa'olis Migroon keessa daarii Gibe'aa muka Roomaanii jala taa'aa ture.
Namoonni isa wajjin turanis gara dhibba ja'aa ti; [3] Ahiiyaan inni dirata uffatus isaan
keessaa tokko ture. Innis ilma Ahiixuub obboleessa Iikaabood, ilma Fiinehaas ilma
Eelii kan Shiiloo keessatti luba WAAQAYYOO ture sanaa ti. Akka Yoonaataan deemes
namni tokko iyyuu quba hin qabu ture.

[4] Malkaan ittiin Yoonaataan gara qubata waraana Filisxeemotaatti ce'uu barbaade
sun bitaa fi mirgaan kattaawwan qara qaban lama qaba ture; inni tokko Bozeezi,
kaan immoo Seenee jedhama. [5] Kattaan tokko karaa kaabaa fuullee Mikmaasiin,
kaan immoo karaa kibbaa fuullee Gibe'aa dhaabata ture.

[6] Yoonaataanis dargaggeessa mi'a lolaa isaaf baatuun, "Kottu gara qubata warra
dhagna hin qabatin sanaatti ceenaa. Maaltu beeka WAAQAYYO nu gargaara ta'aatii.
Baay'eedhaanis ta'u xinnoodhaan wanni fayyisuu irraa WAAQAYYOON dhowwu tokko
iyyuu hin jiru" jedhe.

[7] Dargaggeessichi mi'a lolaa isaaf baatu sunis, "Waan qalbiitti yaadde hunda godhi;
duubattis hin deebi'in; anis akkuma yaada keetiitti si wajjinan jira" jedhe.

[8] Yoonaataanis akkana jedhe; "Egaa kottu gara isaaniitti ceenaa; isaan nu hin argan.
[9] Yoo isaan, 'Hamma nu gara keessan dhufnuttu nu eegaa' jedhan, asumatti isaan
eegna; garuu isaanitti ol hin baanu. [10] Yoo isaan, 'Gara keenyatti ol kottaa' jedhan
garuu kun akka WAAQAYYO dabarsee harka keenyatti isaan kenne mallattoo waan
nuu ta'uuf itti ol baana."

[11] Lamaan isaanii iyyuu qubata loltoota Filisxeemotaatti of argisiisan. Filisxeemon-
nis, "Kunoo! Ibroonni boolla itti dhokatan keessaa ba'aa jiru" jedhan. [12] Namoonni
qubata Filisxeemotaa keessa jiranis, "Ol kottaa; waan tokko isinitti argisiisnaa!"
jedhanii Yoonaataanii fi dargaggeessa mi'a lolaa isaaf baatu sanatti iyyan.

Kanaaf Yoonaataan dargaggeessa mi'a lolaa isaaf baatuun, "WAAQAYYO harka
Israa'elootaatti dabarsee isaan kenneeraatii na faana kottu" jedhe.

[13] Yoonaataan harkaa fi miilla isaatiin daa'imee ol ba'e; dargaggeessi mi'a lolaa
isaaf baatus isa faana ol ba'e. Filisxeemonnis harka Yoonaataaniitiin barbade-
effaman; dargaggeessichi Yoonaataan wajjin tures isa duukaa bu'ee isaan fixe.
[14] Yoonaataanii fi namichi mi'a lolaa isaaf baatu sun rukuttaa jalqabaa sana keessatti
lafa qotiyyoo cimdii tokko oolchuu irratti Filisxeemota gara digdamaa ta'an ajjeesan.

### *Mo’atamuu Filisxeemotaa*

15 Qubata keessatti, lafa qotiisaa keessattii fi saba gidduutti naasuutu ta’e; loltoonni
qubata keessa turanii fi warri balaa buusan ni hollatan; laftis ni raafamte. Naasuun
sunis naasuu Waaqa biraa ergame ture.

16 Yeroo sana waardiyyoonni Saa’ol kanneen biyya Beniyaam keessa Gibe’aa turan
utuu loltoonni sun karaa hundaan bittinnaa’anii ni argan. 17 Saa’ol namoota isa
wajjin turaniin, “Mee loltoota lakkaa’aatii nama nu keessaa deeme ilaalaa” jedhe.
Yommuu lakkaa’anittis Yoonaataanii fi namichi mi’a lolaa isaaf baatu sun achi hin
turre.
18 Saa’olis Ahiiyaadhaan, “Mee taabota Waaqaa as fidi” jedhe. Yeroo sana
taabonni sun Israa’eloota harka ture. 19 Utuu Saa’ol lubatti dubbachaa jiruu qubata
Filisxeemotaa keessatti wacni guddachaa dhufe. Kanaafuu Saa’ol lubichaan, “Harka
kee gad deebifadhu” jedhe.

20 Saa’olii fi namoonni isaa wal ga’anii gara waraanaa deeman. Isaanis utuu
Filisxeemonni burjaaja’anii goraadee ofii isaaniitiin wal cicciranuu argan. 21 Ibroonni
duraan Filisxeemota wajjin turanii fi isaan wajjin gara qubata isaaniitti ol ba’an
sun gara Israa’eloota warra Saa’olii fi Yoonaataan wajjin turaniitti deebi’an.
22 Israa’eloonni biyya gaaraa Efreem keessatti dhokatanii turan yommuu akka
Filisxeemonni baqachaa jiran dhaga’anitti, lolatti makamanii isaan ari’an. 23 Gaafas
WAAQAYYO Israa’elin ni baraare; lolli sunis Beet Aawwen darbee itti fufe.

### *Yoonaataan Damma Muuxachuu Isaa*

24 Saa’ol, “Hamma galgalaatti, hamma ani diinota koo haaloo baafadhutti namni
waa nyaatu kam iyyuu abaaramaa haa ta’u!” jedhee waan saba kakachiisee tureef
gaafas namoonni Israa’el akka malee dhiphatanii turan. Kanaafuu loltoota keessaa
namni tokko iyyuu waa afaaniin hin qabne.

25 Hoomaan waraanaa hundi bosona seene; dammis lafa ture. 26 Isaanis yeroo
bosona seenanitti damma yaa’u argan; ta’us isaan waan kakaa sana sodaataniif
namni tokko iyyuu harka isaa afaanitti hin geeffanne. 27 Yoonaataan garuu akka
abbaan isaa namoota kakaadhaan qabe hin dhageenye ture; kanaafuu inni fiixee
ulee qabatee ture sanaatiin dhaaba dammaa waraanee afaaniin muuxate; iji isaas ni
ifeef. 28 Ergasiis loltoota keessaa tokko, “Abbaan kee, ‘Namni har’a waa nyaatu kam
iyyuu abaaramaa haa ta’u!’ jedhee cimsee hoomaa waraanaa kakaadhaan qabeera;
namoonnis kanaaf gaggaban” jedhee isatti hime.

29 Yoonaataan immoo akkana jedhe; “Abbaan koo biyyatti rakkina uumeera.
Yommuu ani damma kana irraa xinnoo afaaniin qabetti iji koo akkamitti akka naaf
ifee baname mee ilaalaa. 30 Namoonni utuu boojuu diinota isaanii irraa fudhatan
keessaa waa nyaatanii akkam gaarii ture. Silaa Filisxeemonni ajjeefaman kana caalaa
baay’atu ture mitii?”

31 Israa’eloonni gaafa sana erga Mikmaasii hamma Ayaaloonitti Filisxeemota
dha’anii booddee akka malee dadhabanii turan. 32 Isaanis itti gaggabanii waan
booji’an irratti lafa dha’anii hoolota, sangootaa fi jabboota lafatti qalatan; dhiiguma
wajjinis nyaatan. 33 Isaan keessaas namichi tokko, “Kunoo namoonni foon dhiiga
wajjin nyaachuudhaan WAAQAYYOTTI cubbuu hojjechaa jiru” jedhee Saa’olitti hime.

Innis, “Isin seera cabsitaniirtu! Dhagaa guddaa isaa gangalchaatii as naa fidaa”
jedhe. 34 Ergasiis, “Isin namoota gidduu faffaca’aatii, ‘Tokkoon tokkoon keessan
sangaa fi hoolaa keessan fidaatii qalaa nyaadhaa; isin foon dhiiga isaa wajjin
nyaachuudhaan WAAQAYYOTTI cubbuu hin hojjetinaa’ isaaniin jedhaa” jedhe.

Kanaafuu namni hundi halkan gaafasii sangaa isaa fidee achitti qale. 35 Saa’olis
iddoo aarsaa WAAQAYYOOF ijaare; waan kanas yeroo jalqabaatiif godhe.

36 Saa'ol, "Kottaa Filisxeemota duukaa buunee hamma lafti bari'utti isaan saamnaa;
nama tokko illee lubbuun hin hambifnu" jedhe.

Isaanis, "Waan gaarii sitti fakkaate hunda godhi" jedhanii deebisan.

Lubichi garuu, "Asumatti Waaqa gaafanna" jedhe.

37 Saa'olis, "Ani Filisxeemota duukaa bu'uu? Ati dabarsitee harka Israa'elitti isaan
ni kennitaa?" jedhee Waaqa gaafate. Waaqni garuu gaafa sana deebii hin kennineef.

38 Kanaafuu Saa'ol akkana jedhe; "Hooggantoonni loltootaa hundi as kottaa;
cubbuu har'a hojjetame ifatti baafnaa. 39 Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa Israa'elin
baraaru sanaa, yoo namni cubbuu kana hojjete ilma koo Yoonaataan illee ta'e inni
du'uu qaba." Garuu isaan keessaa namni tokko iyyuu deebii isaaf hin kennine.

40 Saa'olis Israa'eloota hundaan, "Isin achi dhaabadhaa; anii fi ilmi koo Yoonaataan
immoo as dhaabanna" jedhe.

Namoonnis, "Waan gaarii sitti fakkaate godhi" jedhaniin.

41 Ergasii Saa'ol, "Deebii qajeelaa naa kenni" jedhee WAAQAYYOON Waaqa Israa'el
kadhate. Ixaanis Yoonaataanii fi Saa'olitti ba'e; namoonnis bilisa ba'an. 42 Saa'olis,
"Anaa fi ilma koo Yoonaataan gidduutti immoo ixaa buusaa" jedhe. Ixaan sunis
Yoonaataanitti ba'e.

43 Saa'olis Yoonaataaniin, "Ati waan goote natti himi" jedhe.

Yoonaataanis, "Ani dhugumaan fiixee ulee kootiin damma xinnoo ishee muuxadheera. Egaa ani du'uun qabaa?" jedhee isatti hime.

44 Saa'olis Yoonaataaniin, "Yoonaataan, yoo ati dhugumaan du'uu baatte Waaqni
waan kanaa fi kan caalu iyyuu natti haa fidu" jedhe.

45 Namoonni garuu Saa'oliin akkana jedhan; "Yonaataan namni mo'annoo guddaa
kana Israa'eliif fide du'uu qabaa? Kun gonkumaa hin ta'u! Dhugaa WAAQAYYO
jiraataa, rifeensi mataa isaa tokko illee lafa hin bu'u; inni gargaarsa Waaqaatiin
har'a waan kana godheeraatii." Namoonni akkasiin Yoonaataanin baraaran; innis
hin ajjeefamne.

46 Saa'olis Filisxeemota ari'uu ni dhiise; isaanis gara biyya isaaniitti dacha'an.

47 Saa'ol erga Israa'el irratti mootii ta'ee booddee diinota isaanii kanneen
gama hundaan turan hunda jechuunis Mo'aabota, Amoonota, Edoomota, Moototа
Zoobaa fi Filisxeemota lole. Lafa dhaqu hundattis isaan barbadeessa ture.
48 Gootummaadhaanis Amaaleqoota lolee mo'ate; Israa'elootas harka warra isaan
saamanii jalaa baase.

### *Maatii Saa'ol*

49 Ilmaan Saa'ol Yoonaataan, Yishwii fi Malkii-Shuwaa turan. Maqaan intallan isaa
immoo isheen hangafni Meerab, quxisuun immoo Miikaal jedhama ture. 50 Maqaan
niitii isaa Ahiinoo'am jedhama ture; isheenis intala Ahiima'az turte. Maqaan ajajaa
waraana Saa'ol Abneer ilma Neeriti; Neer immoo obboleessa abbaa Saa'ol. 51 Qiish
abbaan Saa'olii fi Neer abbaan Abneer ilmaan Abii'eel.

52 Bara jireenya Saa'ol guutuu waraana cimaatu Filisxeemota irratti adeemsifamaa
ture; Saa'olis yommuu nama jabaa yookaan goota tokko argutti ofitti fudhatee akka
isa tajaajilu godhata ture.

## 15

### *Saa'ol WAAQAYYO Biratti Fudhatama Dhabuu Isaa*

1 Saamu'eelis Saa'oliin akkana jedhe; "Akka ati saba isaa Israa'el irratti mootii
taatuuf akka ani si dibuuf WAAQAYYO na ergeera; kanaafuu ati amma dubbii
WAAQAYYOO dhaga'i. 2 WAAQAYYO Waan Hundumaa Danda'u akkana jedha: 'Waan
isaan yeroo Israa'el Gibxii ba'etti karaa irratti isaaniin mormuudhaan godhan sanaaf
ani Amaaleqoota nan adaba. 3 Amma dhaqii Amaaleqoota dha'iitii waan kan isaanii

ta'e hunda barbadeessi. Isaan hin hambisin; dhiirotaa fi dubartoonni, ijoollee fi
daa'imman, loonii fi hoolota, gaalawwanii fi harroota fixi.' "
4 Kanaafuu Saa'ol iddoo Xilaa'iim jedhamutti namoota walitti qabee lakkaa'e;
isaanis loltoota lafoo kuma dhibba lamaa fi namoota Yihuudaa kuma kudhan turan.
5 Saa'olis gara magaalaa Amaaleqootaa dhaqee sulula tokko keessa riphee taa'e.
6 Innis Qeenotaan, "Akka ani Amaaleqoota wajjin isin hin balleessineef achi hiiqaa;
isaan irraas fagaadhaa; isin yeroo Israa'eloonni hundi Gibxii ba'anitti waan gaarii
isaaniif gootaniirtuutii" jedhe. Kanaafuu Qeenonni Amaaleqoota irraa fagaatan.
7 Ergasii Saa'ol Hawiilaa hamma Shuuri kan ba'a Gibxiitti argamuutti Amaaleqoota
dha'e. 8 Innis Agaag mooticha Amaaleqootaa utuma lubbuun jiruu booji'e; namoota
isaa hundas guutumaan guutuutti goraadeen fixe. 9 Saa'olii fi loltoonni isaa
garuu Agaagin, hoolotaa fi loon, jabboota coccoomoo fi xobbaallaawwan hoolaa,
waan gaarii hundas ni hambisan. Isaan kana guutumaan guutuutti fixuun fedhii
isaanii hin turre; garuu waan tuffatamaa fi dadhabaa hunda guutumaan guutuutti
barbadeessan.
10 Kana irratti dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Saamu'eel dhufe; 11 "Ani
Saa'olin mootii gochuu kootti gaabbeera; inni sababii narraa garagaleef ajaja koo hin
eegne." Saamu'eelis akka malee dhiphatee halkan sana guutuu WAAQAYYOTTI boo'aa
bule.
12 Saamu'eelis ganama bariin ka'ee Saa'olin arguu deeme; ta'us, "Saa'ol gara
Qarmeloos deemeera. Achittis erga sooddduu yaadannoo isaa dhaabbatee booddee
gara Gilgaalitti gad bu'eera" jedhamee itti himame.
13 Yeroo Saamu'eel Saa'ol bira dhaqettis Saa'ol, "WAAQAYYO si haa eebbisu! Ani
ajaja WAAQAYYOO eegeera" jedhe.
14 Saamu'eel garuu, "Yoos mar'achuun hoolotaatii fi barooduun sangootaa kan ani
dhaga'u kun maali ree?" jedhe.
15 Saa'olis, "Loltootatu Amaaleqoota irraa booji'ee isaan fide; hoolotaa fi loon
keessaa kanneen filatamoo ta'an WAAQAYYO Waaqa keetiif aarsaa gochuuf ham-
bisaniiru; nu garuu kanneen hafan guutumaan guutuutti barbadeessineerra" jedhee
deebise.
16 Saamu'eelis Saa'oliin, "Afachu! Ani waan WAAQAYYO eda halkan natti hime sittin
himaa" jedhe.
Saa'olis deebisee, "Natti himi" jedhe.
17 Saamu'eelis akkana isaan jedhe; "Ati ija ofii keetii duratti xinnaa kan taatu iyyuu
bulchaa gosa Israa'el hin taanee? WAAQAYYOs Israa'el irratti mootii godhee si dibeera.
18 Inni, 'Dhaqiitii Amaaleqoota cubbamoota sana guutumaan guutuutti barbadeessi;
hamma isaan fixxuttis isaan waraani' jedhee si ergee ture. 19 Ati maaliif WAAQAYYOOF
hin ajajamne ree? Maaliif gaggabdee boojuu irratti lafa dhooftee fuula WAAQAYYOO
duratti waan hamaa hojjette?"
20 Saa'olis akkana jedhee deebise; "Ani WAAQAYYOOF ajajameera; gara WAAQAYYO
itti na erges dhaqeera. Ani Amaaleqoota guutumaan guutuutti barbadeessee mootii
isaanii Agaagin fideera. 21 Loltoonni garuu Gilgaalitti WAAQAYYO Waaqa keetiif aarsaa
dhi'eessuuf jedhanii boojuu sana keessaa waan filatamaa Waaqaaf qulqulleeffame
keessaa hoolotaa fi loon fudhatan."
22 Saamu'eelis deebisee akkana jedhe:
"WAAQAYYO akka yeroo sagalee isaatiif ajajamanitti gammadu sana,
aarsaa gubamuu fi qalmatti ni gammadaa?
Ajajamuutu aarsaa caala;
dhaga'uunis cooma korbeessa hoolaa caala.
23 Fincilli akka cubbuu falfala hojjechuu ti;
mata jabinnis akka hammina Waaqa tolfamaa waaqeffachuu ti.

Waan ati dubbii WAAQAYYOO tuffatteef,
anis akka ati mootii hin taane si tuffadheera."
24 Saa'olis Saamu'eeliin akkana jedhe; "Ani cubbuu hojjedheera. Ani ajaja
WAAQAYYOOTII fi dubbii kee fudhachuu dideera. Ani waanan namoota sodaadheef
isaanii ajajameera. 25 Ammas cubbuu koo naa dhiisiitii akka ani WAAQAYYOOF
sagaduuf na wajjin deebi'i."
26 Saamu'eel immoo, "Ani si wajjin hin deebi'u. Ati dubbii WAAQAYYOO tuffatteerta;
WAAQAYYOS saba Israa'el irratti mootii ta'uu kee tuffateera!" jedheen.
27 Akkuma Saamu'eel deemuuf of irra garagaleenis Saa'ol handaara uffata isaa
qabe; uffanni isaas ni tarsa'e. 28 Saamu'eelis akkana isaan jedhe; "WAAQAYYO har'a
mootummaa Israa'el sirraa tarsaasee ollaa kee kan si caalu tokkoof kenneera. 29 Inni
ulfina Israa'el ta'e sun takkumaa hin sobu yookaan yaada isaa hin geeddaru; akka
yaada isaa hin geeddarreef inni nama miti."
30 Saa'ol immoo deebisee, "Ani cubbuu hojjedheera. Garuu fuula maanguddoota
saba kootiitii fi fuula Israa'el duratti ulfina naa kenni; akka ani WAAQAYYO Waaqa
keetiif sagaduufis kottuu na wajjin deebi'i" jedhe. 31 Saamu'eel akkasiin Saa'ol wajjin
deebi'e; Saa'olis WAAQAYYOOF sagade.
32 Saamu'eelis, "Agaag mootii Amaaleqootaa sana as naa fidaa" jedhe.
Agaagis, "Hadhaan du'aa dhugumaan narraa fagaateera" jedhee gammadaa gara
isaa dhufe.
33 Saamu'eel garuu,
"Akkuma goraadeen kee dubartoota ilmoo malee hambise sana,
haati kees dubartoota keessaa ilmoo malee hafti"
jedhe. Saamu'eelis Gilgaalitti fuula WAAQAYYOO duratti Agaagin ciccire.
34 Ergasiis Saamu'eel gara Raamaa deeme; Saa'ol garuu gara mana ofii isaa, gara
Gibe'aa Saa'olitti qajeele. 35 Saamu'eel hamma gaafa du'eetti deebi'ee Saa'olin hin
argine; Saamu'eel garuu Saa'oliif boo'aa ture. WAAQAYYOS Israa'el irratti Saa'olin
mootii gochuu isaatti ni gaabbe.

## 16

### *Saamu'eel Daawitin Dibuu Isaa*

1 WAAQAYYOS Saamu'eeliin akkana jedhe; "Saa'ol isa ani akka inni Israa'el irratti
mootii hin taaneef tuffadhe sanaaf hamma yoomiitti boossa? Gaanfa keetti zayitii
guuttadhuutii deemi; ani gara Isseeyi nama Beetlihemitti sin erga. Ani ilmaan isaa
keessaa isa tokko akka mootii ta'uuf filadheeraatii."
2 Saamu'eel garuu, "Ani akkamittin deemuu danda'a? Saa'ol yoo waan kana
dhaga'e na ajjeesa" jedhe.
WAAQAYYO immoo akkana jedhe; "Goromsa tokko fudhadhuu dhaqiitii, 'Ani
WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessuufin dhufe' jedhi. 3 Isseeyinis gara aarsaatti waami;
ani waan ati gootu sitti argisiisa. Atis nama ani sitti argisiisu sana naa dibda."
4 Saamu'eelis waan WAAQAYYO isa ajaje godhe. Yommuu inni Beetlihem ga'etti
maanguddoonni magaalaa sanaa hollachaa isa simachuu dhufanii, "Ati naguma
dhuftee?" jedhanii isa gaafatan.
5 Saamu'eelis deebisee, "Eeyyee naguma; ani WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessuun
dhufe. Isinis of qulqulleessaatii na wajjin gara aarsaa kottaa" jedhe. Ergasiis inni
Isseeyii fi ilmaan isaa qulqulleessee gara aarsaatti isaan waame.
6 Yeroo isaan achi ga'anittis Saamu'eel Eliiyaabin argee, "Dhugumaan namni
WAAQAYYO dibe as fuula WAAQAYYOO dura dhaabateera" jedhee garaatti yaade.
7 WAAQAYYO garuu Saamu'eeliin, "Ani isa tuffadheeraatii bifa isaa yookaan hojjaa
isaa hin ilaalin. WAAQAYYO waan namni ilaalu hin ilaalu. Namni bifa ilaala;
WAAQAYYO garuu waan garaa keessa jiru ilaala" jedhe.

8 Isseeyis ergasii Abiinaadaabin waamee akka inni fuula Saamu’eel dura darbu
godhe. Saamu’eel garuu, “Waaqayyo isa kana hin filanne” jedhe. 9 Isseey akka
Shamaan darbu godhe; Saamu’eel garuu, “Waaqayyo isa kanas hin filanne” jedhe.
10 Isseey akka ilmaan isaa torbanuu fuula Saamu’eel dura darban godhe; Saamu’eel
garuu, “Waaqayyo isaan kanneen hin filanne” jedhe. 11 Innis, “Ilmaan kee hundi
kanneenumaa?” jedhee Isseeyin gaafate.

Isseeyis, “Quxxisuun hunda isaanii tokko jira; inni garuu hoolota tiksaa jira” jedhe.

Saamu’eelis, “Nama itti ergiitii isa fichisiisi; nu hamma inni dhufutti hin teenyuutii” jedhe.

12 Kanaaf Isseeyi nama itti ergee isa fichisiise. Innis diimaa, nama iji isaa miidhaguu
fi nama dhaaba tolu ture.

Waaqayyos, “Ka’ii isa dibi; inni ani filadhe isa kanaatii” jedhe.

13 Kanaafuu Saamu’eel gaanfa zayitii fuudhee fuula obboloota isaa duratti isa dibe;
guyyaa sanaa jalqabee Hafuurri Waaqayyoo humnaan Daawit irra bu’e. Saamu’eelis
gara Raamaa deeme.

### *Daawit Saa’olin Tajaajiluu Isaa*

14 Hafuurri Waaqayyoos Saa’ol irraa fagaate; hafuurri hamaan Waaqayyo biraa
ergame immoo Saa’olin dhiphise.

15 Tajaajiltoonni Saa’ol akkana isaan jedhan; “Kunoo hafuurri hamaan Waaqa
biraa ergamee si dhiphisaa jira. 16 Egaa gooftaan keenya akka isaan nama baganaa
taphachuu danda’u barbaadaniif tajaajiltoota isaa warra fuula isaa dura jiran haa
ajaju. Innis yommuu hafuurri hamaan sun Waaqa biraa sitti dhufu baganaa siif
taphata; sittis ni wayyaa’a.”

17 Kanaafuu Saa’ol tajaajiltoota isaatiin, “Nama akka gaariitti baganaa taphachuu
danda’u tokko barbaadaatii naa fidaa” jedhe.

18 Tajaajiltoota sana keessaa tokko, “Kunoo ilma Isseey nama Beetlihem kan
baganaa taphachuu beeku tokko ani argeera. Innis jagnaa fi loltuu dha. Nama dubbii
beekuu fi miidhagaa dha. Waaqayyos isa wajjin jira” jedhee deebise.

19 Saa’olis Isseeyitti ergamoota ergee, “Ilma kee Daawit isa hoolota bira jiru sana
naa ergi” jedhe. 20 Isseeyis harree tokko fidee buddeenaa fi daadhii wayinii qalqalloo
tokko itti fe’ee, ilmoo re’ee tokko wajjin ilma isaa Daawitin Saa’oliif erge.

21 Daawit gara Saa’ol dhufee tajaajila isaa jalqabe. Saa’ol akka malee isa jaallate;
Daawitis nama mi’a lolaa isaaf baatu ta’e. 22 Saa’olis, “Akka inni na wajjin turee na
tajaajiluuf Daawitiif eeyyami; ani isatti gammadeeraatii” jedhee Isseeyitti dhaame.

23 Yommuu hafuurri hamaan Waaqa biraa Saa’olitti dhufu hunda, Daawit baganaa
isaa fudhatee taphata ture; Saa’olis boqonnaa argata; itti wayyaa’as ture. Hafuurri
hamaan sunis isa dhiisee deema ture.

## 17

### *Daawitii fi Gooliyaad*

1 Yeroo sana Filisxeemonni lolaaf humna isaanii walitti qabatanii Yihuudaa
keessatti Sookootitti wal ga’an. Isaanis Sakootii fi Azeeqaa gidduu Efes Damiim
keessa qubatan. 2 Saa’olii fi namoonni Israa’el immoo wal ga’anii Sulula Elaa keessa
qubatan; Filisxeemota waraanuufis hiriiran. 3 Filisxeemonni gaara tokko qabatan;
Israa’eloonni immoo tulluu kaan qabatan; gidduu isaanii immoo sululatu ture.

4 Namichi beekamaan Gaatii dhufe kan maqaan isaa Gooliyaad jedhamu tokko
qubata Filisxeemotaa keessaa gad ba’e. Hojjaan isaas dhundhuma ja’aa fi taakkuu
tokko ture. 5 Innis gonfoo naasii mataatti kaa’atee qomee naasii kan saqilii kuma shan
ulfaatu uffata ture; 6 miilla isaattis gambaallee naasii hidhatee gatiittii isaatti eeboo

baadhata ture. 7 Somaan eeboo isaa furdaa akka muka wayya dhooftuun wayyaa itti martuu ture; sibiilli eeboo isaas saqilii dhibba ja'a ulfaata ture. Baattuun gaachana isaas fuula isaa dura deema ture.

8 Gooliyaadis loltoota Israa'el kanneen waraanaaf hiriiranitti iyyee akkana jedhe; "Isin waraanaaf hiriirtanii ba'uun keessan maaliif? Ani nama Filisxeem, isin immoo tajaajiltoota Saa'ol mitii? Ofii keessanii nama tokko filadhaatii inni gara kootti gad
haa bu'u. 9 Yoo inni na lolee na ajjeesuu danda'e, nu isin jalatti bulla; yoo ani isa mo'adhee isa ajjeese garuu isin nu jalatti bultanii tajaajiltoota keenya taatu."
10 Filisxeemichis, "Ani har'a Israa'eliin nan morkadha! Akka wal lolluuf nama tokko naa kennaa" jedhe. 11 Saa'olii fi Israa'eloonni hundi yommuu dubbii kana dhaga'anitti akka malee raafaman; ni sodaatanis.

12 Daawit ilma Isseeyi namicha Efraataa kan Beetlihem Yihuudaa sanaa ti. Isseeyis ilmaan saddeeti qaba ture; innis bara Saa'ol keessa nama dulloomee jaare ture.
13 Ilmaan Isseey hangafoonni sadan Saa'olin duukaa bu'anii lafa waraanaa dhaqanii turan; maqaan isaaniis inni hangafni Eliiyaab, inni lammaffaan Abiinaadaab, inni sadaffaan immoo Shamaa jedhama ture. 14 Daawit quxisuu hunda isaanii ture. Isaan hangafoonni sadan Saa'olin duukaa bu'anii deeman; 15 Daawit garuu hoolota abbaa isaa tiksuuf jedhee Saa'ol biraa Beetlihemitti deddeebi'aa ture.

16 Namichi Filisxeem sunis guyyaa afurtama ganama ganamaa fi galgala galgala dhufee isaanitti of mul'isa ture.

17 Isseey immoo ilma isaa Daawitiin akkana jedhe; "Akaayii kana irraa iifii* tokkoo fi buddeena kurnan kana fuudhiitii ariitiidhaan obboloota keetiif iddoo qubata isaaniitti geessi. 18 Baaduu kurnan kana immoo ajajaa kumaa isaaniitiif geessi. Haala obboloonni kee keessa jiran ilaaliitii oduu isaanii fidii kottu. 19 Isaan Saa'olii fi namoota Israa'el wajjin Sulula Elaa keessatti Filisxeemota lolaa jiru."

20 Daawitis tiksee biratti bushaayee dhiisee ganama barii ka'ee nyaata sana qabatee akkuma Isseey isa ajajetti ka'ee qajeele. Innis utuu loltoonni dhaadachaa hiriiraan adda waraanaatti yaa'aa jiranuu lafa qubataa ga'e. 21 Israa'elii fi Filisxeemonni tarree tarreedhaan fuula walitti garagalfatan. 22 Daawitis mi'a isaa eegduu mi'aa biratti dhiisee gara adda waraanaatti fiigee obboloota isaa nagaa gaafate. 23 Utuma inni isaan wajjin haasa'aa jiruu, Gooliyaad jagnichi Filisxeem namichi Gaati sun hiriira Filisxeemotaa keessaa dubbiidhuma kanaan dura dubbachaa ture sana dubbate; Daawitis isa dhaga'e. 24 Israa'eloonni hundinuu yommuu namicha arganitti sodaa guddaadhaan isa biraa baqatan.

25 Israa'eloonnis, "Isin akka namichi kun as deddeebi'aa jiru argituu? Inni dhugumaan Israa'eliin morkachuuf dhufe. Mootiin nama isa ajjeesuuf qabeenya guddaa kenna. Intala isaa illee itti heerumsiisa; maatii abbaa isaas akka Israa'el keessatti gibira hin gabbarre godha" waliin jechaa turan.

26 Daawit namoota isa bira dhadhaabachaa turaniin, "Nama namicha Filisxeem kana ajjeesee Israa'el irraa salphina kana fuudhuuf maaltu godhama? Filisxeemichi dhagna hin qabatin kun akka loltoota Waaqa jiraataa doorsisuuf inni eenyuu?" jedhee gaafate.

27 Namoonnis, "Wanni nama isa ajjeesuuf godhamu kanuma" jedhanii dubbiidhuma duraan dubbachaa turan sana irra deebi'anii itti himan.

28 Eliiyaab hangafni Daawit inni jalqabaa Daawit namoota wajjin dubbachaa akka jiru yommuu argetti aaree gubatee akkana jedhe; "Ati maal gochuu as gad buute? Hoolota muraasa sana gammoojjii keessatti eenyutti dhiiftee dhufte? Ani of tuulummaa keetii fi hammina garaa keetii nan beeka; ati waraana ilaaluu dhufteetii."

* **17:17** 17:17 Iifiin tokko gara kiiloo giraamii 16.

29 Daawit immoo, “Ani amma maalin godhe? Ani dubbachuu illee hin danda'uu?”
jedhe. 30 Ergasiis gara nama biraatti garagalee waanuma duraa sana gaafate;
namoonnis akkuma jalqabaatti deebisaniif. 31 Wanni Daawit jechaa tures dhaga'amee
Saa'ol qaqqabe; Saa'olis isa waamsise.

32 Daawitis Saa'oliin, “Sababii namicha Filisxeem kanaatiif namni tokko iyyuu abdii
hin kutatin; ani garbichi kee dhaqee isa nan waraana” jedhe.

33 Saa'olis Daawitiin, “Ati dhaqxee Filisxeemicha kana waraanuu hin dandeessu;
ati ijoollee dha; inni immoo ijoollummaa isaatii jalqabee loltuu ture” jedhe.

34 Daawit garuu Saa'oliin akkana jedhe; “Garbichi kee hoolota abbaa isaa tiksaa
ture. Yeroo leenci yookaan amaakenni dhufee bushaayee keessaa tokko fudhatutti,
35 ani isa faana fiigee dha'ee hoolaa sana afaan isaatii nan buusisan ture. Yoo inni
natti gara gale immoo kokkee isaa qabee dha'ee isa ajjeesa ture. 36 Ani garbichi
kee leencaa fi amaaketa ajjeeseera; Filisxeemichi dhagna hin qabatin kunis akkuma
tokkoo isaanii ta'a; inni loltoota Waaqa jiraataa doorsiseeraatii. 37 WAAQAYYO inni
irree leencaatii fi irree amaaketaa jalaa na baase sun harka Filisxeemicha kanaa
jalaas na baasa.”

Saa'olis Daawitiin, “Dhaqi, WAAQAYYO si wajjin haa ta'u” jedhe.

38 Ergasiis Saa'ol uffata lolaa kan ofii isaa Daawititti uffise. Qomee sibiilaa itti uffisee
gonfoo naasii mataa isaatti kaa'eef. 39 Daawitis sababii duraan itti fayyadamee hin
beekneef uffata Saa'ol irratti goraadee hidhatee asii fi achi deemuu yaale.

Innis Saa'oliin, “Ani waanan duraan itti fayyadamee hin beekneef hidhadhee
deemuu hin danda'u” jedhe. Kanaafuu of irraa baase. 40 Ergasii ulee isaa harkatti
qabatee dhagaa soofamaa shan lagaa filatee kiisii korojoo tikseetti naqate; furrisa
isaas harkatti qabatee gara Filisxeemichaatti dhi'aate.

41 Namichi Filisxeem sunis namicha mi'a lolaa isaaf baatu of dura qajeelchee
Daawititti dhi'aate. 42 Innis Daawitin ilaalee akka inni mucaa diimaa miidhagaa
ta'e hubatee isa tuffate. 43 Filisxeemichis, “Kan ati ulee qabattee natti dhuftu ani
sareedhaa?” jedhee waaqota ofii isaatiin Daawitin abaare. 44 Akkasumas, “As kottu;
ani foon kee allaattii samiitii fi bineensota bosonaatiif nan kennaa!” jedheen.

45 Kana irratti Daawit Filisxeemichaan akkana jedhe; “Ati kunoo goraadee, eeboo
fi bodee qabatee natti dhufta; ani garuu maqaa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu,
Waaqa loltoota Israa'el kan ati doorsifte sanaatiin sittin dhufa. 46 Har'a WAAQAYYO
dabarsee harka kootti si kenna; anis si ajjeesee mataa kee sirraan kuta. Ani har'a
reeffa Filisxeemotaa allaattii samiitii fi bineensota lafaatiif nan kenna; addunyaan
hundis akka Israa'el keessa Waaqni jiru ni beeka. 47 Namoonni asitti walitti qabaman
hundi akka WAAQAYYO goraadee fi eeboodhaan nama hin baafne ni baru; sababii lolli
kun kan WAAQAYYOO ta'eef inni dabarsee harka keenyatti isin kenna.”

48 Yommuu Filisxeemichi isa dha'uuf dhufettis Daawit isa loluuf fiigee adda
waraanaa seene. 49 Harka isaas korojoo isaa keessa kaa'ee dhagaa tokko fudhatee
furrisaan darbatee adda Filisxeemichaa dha'e. Dhagaan sunis adda isaa keessa bade;
Filisxeemichis addaan lafatti gombifame.

50 Daawit akkasiin furrisaa fi dhagaadhaan Filisxeemicha mo'ate; Daawit utuma
goraadee of harkaa hin qabaatin Filisxeemicha dha'ee ajjeese.

51 Daawit fiigee Filisxeemicha irra ejjete. Goraadee Filisxeemichaas man'ee keessaa
luqqisee baafate. Erga isa ajjeesee booddees goraadee sanaan mataa isaa irraa kute.

Filisxeemonni yommuu akka goonni isaanii du'e arganitti of irra garagalanii
baqatan. 52 Ergasii namoonni Israa'elii fi namoonni Yihuudaa ka'anii dhaadachaa
hamma balbala Gaatii fi karra Eqroonitti Filisxeemota ari'an. Reeffi Filisx-
eemotaas karaa Sha'arayiimitti geessu irratti hamma Gaatii fi Eqroonitti harca'e.

53 Israa'eloonni yommuu Filisxeemota ari'uu irraa deebi'anitti qubata isaanii
saaman.
54 Daawitis mataa Filisxeemichaa fudhatee gara Yerusaalemitti fide; mi'a lolaa
Filisxeemichaas dunkaana ofii isaatti galfate.
55 Saa'ol yommuu akka Daawit Filisxeemicha loluuf deemu argetti, Abneer ajajaa
waraana Israa'eliin, "Abneer, gurbaan kun ilma eenyuu ti?" jedhe.
Abneeris, "Yaa Mootii, du'a kee ti ani hin beeku" jedhee deebise.
56 Mootichis, "Egaa akka gurbaan kun ilma eenyuu ta'e iyyaafadhuuttii bira ga'i"
jedheen.
57 Akkuma Daawit Filisxeemicha ajjeesee deebi'een, Abneer Daawitii mataa
Filisxeemichaa harkatti qabatee jiru fuula Saa'ol duratti dhi'eesse.
58 Saa'olis, "Gurbayyoo ati ilma eenyuu ti?" jedhee gaafate.
Daawit immoo, "Ani ilma garbicha keetii ilma Isseeyi namicha Beetlihem sanaa ti"
jedhee deebise.

# 18

*Saa'ol Daawititti Hinaafuu Isaa*

1 Erga Daawit Saa'ol wajjin haasa'ee fixatee booddee, lubbuun Yoonaataan lubbuu
Daawititti maxxante; Yoonaataanis akkuma lubbuu ofii isaatti isa jaallate. 2 Saa'olis
gaafa sanaa jalqabee Daawitin ofitti fudhate; akka inni gara mana abbaa isaatti
deebi'us hin eeyyamneef. 3 Yoonaataan sababii akka mataa isaatti isa jaallateef
Daawit wajjin kakuu seene. 4 Yoonaataanis qoloo uffatee ture of irraa baasee kittaa
isaa, goraadee isaa, iddaa isaatii fi sabbata isaa dabalee Daawitiif kenne.
5 Daawit iddoo Saa'ol itti isa erge hunda dhaqee ni milkaa'a ture. Saa'olis namoota
waraanaa irratti isa sadarkaa ol aanaa kenneef. Wanni kunis saba hundaa fi
tajaajiltoota Saa'ol hunda gammachiise.
6 Dubartoonnis erga Daawit Filisxeemicha ajjeesee booddee yommuu namoonni
gara mana ofii isaaniitti deebi'anitti magaalaawwan Israa'el hunda keessaa masiin-
qoo fi dibbee qabatanii faarfannaa gammachuutiin faarfachaa fi shuubbisaa Saa'ol
mooticha simachuuf ba'an. 7 Dubartoonni sunis wal jalaa qabanii:
"Saa'ol kumaatama ajjeese;
Daawit immoo kuma kumaatamaa ajjeese" jedhanii faarfatan.
8 Saa'ol akka malee aare; jechi kunis isa hin gammachiifne. Innis, "Isaan Daawitiif
kuma kumaatama kennan; anaaf garuu kumaatama qofa kennan. Mootummaa
fudhachuu malee maaltu isa hafe?" jedhee yaade. 9 Gaafasii jalqabee Saa'ol ija
hinaaffaatiin Daawitin ilaala ture.
10 Guyyaa itti aanutti hafuurri hamaan Waaqa biraa humnaan Saa'olitti dhufe.
Innis mana isaa keessatti raajii dubbachaa ture; Daawit immoo akkuma duraan
godhu sana baganaa taphachaa ture. Saa'olis eeboo harkatti qabatee ture; 11 innis,
"Ani Daawitin keenyanittan hodha" jedhee waan yaadeef eeboo itti darbate. Daawit
garuu yeroo lama isa duraa miliqe.
12 Saa'olis Daawitin sodaate; Waaqayyo Saa'olin dhiisee Daawit wajjin tureetii.
13 Kanaafuu Saa'ol Daawitin fuula ofii isaa duraa fageessee ajajaa kumaa isa godhe;
Daawitis loltoota hoogganee ni ba'a; ni galas ture. 14 Sababii Waaqayyo isa wajjin
tureef inni waan hojjetu hundumaan ni milkaa'a ture. 15 Saa'olis yeroo akka inni
milkaa'e argetti isa ni sodaate. 16 Israa'elii fi Yihuudaan hundi garuu Daawitin ni
jaallatan; inni fuula isaanii dura ni ba'a; ni galas tureetii.
17 Saa'olis Daawitiin, "Meerab intalli koo hangafti kunoo ti; ati jagnummaan
lola Waaqayyoo loli malee ani ishee sitti nan heerumsiisa" jedhe. Saa'ol, "Harki

Filisxeemotaa isa irratti haa ka'u malee ani harka koo isa irratti hin kaasu" jedhee
yaadaa tureetii.
18 Daawit garuu Saa'oliin, "Soddaa mootii ta'uuf ani eenyu? Maatiin koo yookaan
gosti abbaa koo Israa'el keessatti maali?" jedhe. 19 Kanaafuu yommuu yeroon itti
Meerab intalli Saa'ol Daawititti heerumtu dhi'aatetti isheen Adrii'eel nama biyya
Mehoolaatitti heerumte.
20 Miikaal intalli Saa'olis Daawitin jaallattee turte; Saa'olis yeroo waa'ee kanaa
dhaga'etti ni gammade. 21 Innis, "Akka isheen kiyyoo isatti taatuu fi akka harki
Filisxeemotaa isa argatuuf ani ishee isatti nan heerumsiisa" jedhee yaade. Kanaafuu
Saa'ol Daawitiin, "Ati amma soddaa koo ta'uuf carraa lammaffaa qabda" jedhe.
22 Ergasiis Saa'ol, " 'Kunoo mootiin sitti gammada; tajaajiltoonni isaa hundinuus si
jaallatu; ati amma soddaa isaa ta'i' jedhaatii dhoksaadhaan Daawititti himaa" jedhee
tajaajiltoota isaa ajaje.
23 Isaanis irra deebi'anii waan kana Daawititti himan; Daawit garuu, "Soddaa
mootii ta'uun waanuma salphaa seetanii? Ani hiyyeessa; nama hamma kanatti
beekamus miti" jedhe.
24 Tajaajiltoonni Saa'ol waan Daawit jedhe isatti himan; 25 Saa'ol immoo, " 'Mootichi
diinota isaa haaloo ba'uuf misaa Filisxeemotaa dhibba tokko malee gabbara biraa
tokko illee sirraa hin barbaadu' jedhaatii Daawititti himaa" jedhe. Karoorri Saa'ol
akka Daawit harka Filisxeemotaatti kufu ture.
26 Yommuu tajaajiltoonni sun waan kana Daawititti himanitti, Daawit soddaa mootii
ta'uuf ni gammade. Kanaafuu utuu yeroon isaa hin ga'in, 27 Daawitii fi namoonni isaa
dhaqanii Filisxeemota dhibba lama ajjeesan. Daawitis soddaa mootii ta'uuf jedhee
misaa Filisxeemota ajjeefamanii hunda fidee moootichatti kenne. Kana irratti Saa'ol
intala isaa Miikaalin isatti heerumsiise.
28 Saa'ol yommuu akka WAAQAYYO Daawit wajjin jiruu fi akka Miikaal isa jaallate
hubatetti, 29 ammas akka malee isa sodaate; bara jireenya isaa kan hafe hundas diina
isaa ta'ee jiraate.
30 Ajajjoonni waraana Filisxeemotaas yeroo hedduu waraanaaf ni ba'u turan; yeroo
isaan waraanaaf ba'an hundas Daawit qondaaltota Saa'ol kaan caalaa mo'annaa
argata ture; maqaan isaas baay'ee beekame.

# 19

*Saa'ol Daawitin Ajjeesuuf Yaale*

1 Saa'ol ilma isaa Yoonaataanii fi tajaajiltoota hunda akka isaan Daawitin ajjeesan
ajaje. Yoonaataan garuu akka malee Daawitin jaallata ture; 2 akkana jedhees isa
akeekkachiise; "Saa'ol abbaan koo karaa ittiin si ajjeesu barbaadachaa jira. Bori
ganama of eeggadhu; dhokadhuutii achuma turi. 3 Anis gad ba'ee abbaa koo wajjin
dirree ati jirtu irra nan dhaabadha. Waa'ee kees isa wajjin haasa'ee waan inni jedhe
sitti hima."
4 Yoonaataanis akkana jedhee abbaa isaa Saa'olitti waa'ee Daawit waan gaarii
dubbate; "Mootichi tajaajilaa isaa Daawititti yakka hin hojjetin; inni homaa si hin
goone; wanni inni hojjetes faayidaa guddaa siif argamsiiseera. 5 Daawit lubbuu ofii
isaatiif yaaduu dhiisee Filisxeemicha ajjeese. WAAQAYYOS Israa'el hundaaf mo'annaa
guddaa kenne; atis waan kana argitee gammaddeerta. Yoos ati maaliif sababii malee
isa ajjeesuudhaan nama yakka hin qabne kan akka Daawititti yakka hojjetta ree?"
6 Saa'olis Yoonaataanin dhaggeeffatee, "Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, Daawit hin
ajjeefamu" jedhee kakate.
7 Kanaafuu Yoonaataan Daawitin waamee waan kana hunda itti hime. Saa'olittis
isa fide; Daawitis akkuma duriitti Saa'ol dura dhaabate.

8 Ammas lolli ni ka'e; Daawitis dhaqee Filisxeemota lole. Innis humna guddaan
isaan dha'e; isaanis isa duraa baqatan.

9 Garuu utuu Saa'ol eeboo harkatti qabatee mana isaa taa'uu hafuuri hamaan
WAAQAYYO biraa isatti dhufe. Utuu Daawit baganaa taphachaa jiruu, 10 Saa'ol
eeboodhaan Daawitin keenyanitti hodhuu yaale; Daawit garuu duraa miliqe; Saa'olis
eeboo sana keenyanitti fixe. Daawitis halkan sana baqatee jalaa ba'e.

11 Saa'ol akka isaan eeganii ganamaan isa ajjeesaniif mana Daawititti namoota
erge. Miikaal niitiin Daawit garuu, "Ati yoo halkan kana baqachuu baatte bori ni
ajjeefamta" jettee akeekkachiifte. 12 Kanaafuu Miikaal foddaa keessaan Daawitin gad
buufte; innis baqatee miliqe. 13 Ergasii Miikaal fakkii Waaqa tolfamaa tokko fuutee
wayyaa itti uffiftee siree irra ciibsite; boraatii rifeensa re'ees mataa jala keesseef.

14 Yeroo Saa'ol Daawitin qabsiisuuf namoota ergetti Miikaal, "Inni dhukkubsateera"
jette.

15 Saa'ol akka isaan Daawitin ilaalaniif deebisee namoota ergee, "Akka ani isa
ajjeesuuf siree isaatiin naa fidaa" isaaniin jedhe. 16 Yeroo namoonni sun ol
seenanitti fakkiin Waaqa tolfamaa sun siree irra ciibsamee, rifeensi re'ees mataa
jala kaa'ameefii argame.

17 Saa'olis Miikaaliin, "Ati maaliif akka diinni koo miliquuf akkas na gowwoom-
site?" jedhe.

Miikaalis, "Isatu, 'Jalaa na miliqsi; yoo kanaa achii ani sin ajjeesaa' naan jedhe"
jetteen.

18 Daawitis yeroo baqatee miliqetti Saamu'eel bira Raamaa dhaqee waan Saa'ol
isa godhe hunda itti hime. Ergasiis innii fi Saamu'eel gara Naayot dhaqanii achuma
turan. 19 Saa'olittis, "Kunoo Daawit Naayot ishee Raamaa keessatti argamtu keessa
jira" jedhanii himan. 20 Kanaafuu inni akka isa qabaniif namoota itti erge. Isaan
garuu yeroo garee raajota raajii dubbatanii kan Saamu'eel hoogganaa isaanii ta'ee
achi dhaabachaa ture tokko arganitti Hafuurri Waaqaa namoota Saa'ol irra bu'ee
isaanis akkasuma raajii dubbatan. 21 Saa'ol yommuu waan kana dhaga'etti namoota
biraa erge; isaanis akkasuma raajii dubbatan. Saa'ol ammas yeroo sadaffaaf namoota
erge; isaanis akkasuma raajii dubbatan. 22 Dhuma irratti inni ofuma isaatii ka'ee
Raamaa dhaqe; boolla bishaanii guddaa Seekuutti argamu bira ga'ee, "Saamu'eelii fi
Daawit eessa jiru?" jedhee gaafate.

Namni tokkos, "Isaan Naayot ishee Raamaa keessa jirtu keessa jiru" jedheen.

23 Kanaafuu Saa'ol gara Naayot ishee Raamaa keessa jirtu sanaa dhaqe. Garuu
Hafuurri Waaqaa isaa irra bu'e; innis hamma Nawaat ga'utti raajii dubbachaa deeme.
24 Wayyaa isaas of irraa baasee fuula Saamu'eel duratti raajii dubbate. Innis halkanii
fi guyyaa sana guutuu qullaa isaa ciise. Sababiin namoonni, "Saa'olis raajota keessaa
tokkoodhaa?" jedhaniif kanuma.

# 20

*Daawitii fi Yoonaataan*

1 Daawitis Naayot ishee Raamaa keessatti argamtuu baqatee Yoonaataan bira
deemee, "Ani maalin godhe? Yakki koos maali? Cubbuun ani fuula abbaa keetii
duratti hojjedhee inni na ajjeesuu barbaaduuf kami?" jedhee gaafate.

2 Yoonaataanis deebisee, "Kun gonkumaa hin ta'u; ati hin ajjeefamtu! Abbaan
koo waan xinnaas ta'u waan guddaa utuu na wajjin hin mari'atin hin hojjetu. Yoos
abbaan koo akkam waan kana na dhoksa ree? Wanni kun akkas miti!" jedhe.

3 Daawit garuu akkana jedhee kakate; "Akka ani fuula kee duratti fudhatama
argadhe abbaan kee sirriitti beeka; kanaafuu inni, 'Yoonaataan waan gadduuf akka

waan kana beeku hin godhinaa' jedheera. Garuu dhugaa WAAQAYYO jiraataa ti; du'a kee ti; anaa fi du'a giddu tarkaanfii tokko qofatu jira."

4 Yoonaataanis Daawitiin, "Waan ati akka ani siif godhu barbaaddu hunda siifin godha" jedhe.

5 Kanaafuu Daawit akkana jedhe; "Bor Ayyaana Baatii ti; anis mootii wajjin
maaddiitti dhi'aachuun qaba; garuu akka ani dhaqee hamma galgala iftaaniitti
ala dhokadhu naa eeyyami. 6 Yoo abbaan kee na barbaadee na dhabe, 'Daawit
waan aarsaan waggaa sababii maatii isaa guutuutiif achitti dhi'eeffamaa jiruuf akka
ariitiidhaan gara Beetlihem magaalaa ofii isaa dhaquuf cimsee eeyyama na gaafatee
jira' jedhiin. 7 Yoo inni, 'Haa ta'u' jedhe, garbichi kee ooleera; yoo inni aare garuu
akka inni hammina natti yaade hubachuu dandeessa. 8 Ati garuu garbicha keetiif
garaa laafi. Atii fi garbichi kee fuula WAAQAYYOO duratti kakuu galtaniirtuutii. Yoo
ani yakka qabaadhe atuu na ajjeesi! Maaliif dabarsitee abbaa keetti na kennita?"

9 Yoonaataanis, "Wanni kun sirraa haa fagaatu! Ani utuu akka abbaan koo si miidhuu barbaade beekee silaa sitti hin himun turee?" jedhe.

10 Daawitis, "Yoo abbaan kee dheekkamsaan siif deebise eenyutu natti hima?" jedhee gaafate.

11 Yoonaataan, "Kottu alatti baanaa" jedhe. Kanaafuu isaan lamaanuu walii wajjin deeman.

12 Kana irratti Yoonaataan Daawitiin akkana jedhe; "Ani WAAQAYYO Waaqa
Israa'eliin nan kakadha; dhugumaan iftaan yoona yaada abbaa koo nan ilaala! Yoo
inni yaada tolaa siif qabaate ani dhaamsa sitti ergeen si beeksisa. 13 Garuu yoo abbaan
koo si miidhuu barbaadee ani immoo si beeksisee nagaadhaan si erguu baadhe,
WAAQAYYO Yoonaataanin haa adabu; waan caalus itti haa fidu. WAAQAYYO akkuma
abbaa koo wajjin ta'e sana si wajjinis haa ta'u. 14 Akka ani hin ajjeefamneef ati gara
laafina hin geeddaramne kan akka gara laafina WAAQAYYOO sana bara jireenya kootii
keessa na argisiisi. 15 Yeroo WAAQAYYO diinota Daawit lafa irraa barbadeessutti illee
gara laafinni kee maatii koo irraa hin citin."

16 Kanaafuu Yoonaataan, "WAAQAYYO diinota Daawit itti gaafatamtoota haa godhu"
jedhee mana Daawit wajjin kakuu seene. 17 Yoonaataan sababii akkuma lubbuu ofii
isaatti Daawitin jaallateef akka inni amma illee isaaf kakatu godhe.

18 Yoonaataanis Daawitiin akkana jedhe: "Bori Guyyaa Ayyaana Baatii ti. Sababii
iddoon ati teessu sun duwwaa ta'uuf akka ati hin jirre ni beekama. 19 Iftaan galgala
iddoo yeroo rakkinni kun jalqabetti itti dhokatte sana dhaqiitii dhagaa Ezeel bira turi.
20 Ani akka nama waan tokkotti xiyyeeffatee darbatuutti xiyya sadii naannoo dhagaa
sanaatti nan darbadha. 21 Ergasiis gurbaa tokko ergee, 'Dhaqiitii xiyya barbaadi' nan
jedha. Yoo ani, 'Ilaa, xiyyi siin garana jira; as fidi' jedheen, dhugaa WAAQAYYO jiraataa,
ati homaa hin taatuutii kottu; balaan tokko iyyuu hin jiru. 22 Yoo ani gurbichaan,
'Ilaa, xiyyi siin garas jira' jedhe garuu waan WAAQAYYO akka ati deemtu barbaadeef
deemuu qabda. 23 Waa'ee waan anaa fi ati mari'anne sanaa akka WAAQAYYO bara
baraan anaa fi si gidduutti dhuga ba'aa ta'e yaadadhu."

24 Kanaafuu Daawit ala dhokate; yeroo Guyyaan Ayyaana Baatii ga'ettis mootichi
waa nyaachuuf taa'e. 25 Innis akkuma amala isaa keenyan manaa bira taa'e;
Yoonaataan fuullee isaa, Abneer immoo Saa'ol cina taa'e; iddoon Daawit garuu
duwwaa ture. 26 Saa'ol gaafas homaa hin dubbanne; inni, "Wanni akka seeraatti
isa xureessu tokko Daawititti dhufuu hin oolu; inni dhugumaanuu xuraa'aa dha"
jedhee yaadaa tureetii. 27 Garuu guyyaa itti aanu jechuunis ji'a sana keessaa guyyaa
lammaffaatti iddoon Daawit ammas duwwaa ture. Kana irratti Saa'ol ilma isaa
Yoonaataaniin, "Ilmi Isseey sun maaliif kaleessas har'as nyaataaf hin dhufin?" jedhe.

28 Yoonaataanis akkana jedhee deebise; "Daawit gara Beetlihem deemuuf jedhee
jabeessee eeyyama na gaafate. 29 Innis, 'Sababii maatiin keenya magaalaa sana
keessatti aarsaa dhi'eessaa jiruu fi sababii obboleessi koo akka ani achitti argamuuf
na ajajeef nan dhaqa. Yoo ani fuula kee duratti fudhatama argadhee jiraadhe akka
ani obboloota koo ilaaluu dhaquuf naa eeyyami' jedhe. Wanni inni utuu maaddii
mootichaatti hin dhi'aatin hafeefis kanuma."
30 Saa'olis akka malee Yoonaataanitti aaree akkana jedheen; "Ati yaa ilma dubartii
micciiramtuu fi finciltuu sanaa! Akka ati ilma Isseey kan si'ii fi haadha si deesseef
qaanii ta'e sanaaf tumsite ani hin beekuu? 31 Hamma ilmi Isseey lafa irra jirutti atis
mootummaan kees jabaattanii hin dhaabattan. Kanaafuu amma nama itti ergiitii
gara koo fichisiisi; inni du'uu qabaatii!"
32 Yoonaataanis, "Inni maaliif ajjeefama? Maali godhe?" jedhee abbaa isaa Saa'olin
gaafate. 33 Saa'ol garuu isa ajjeesuudhaaf eeboo itti darbate. Kanaafuu Yoonaataan
akka abbaan isaa Daawitin ajjeesuuf kutate beeke.
34 Yoonaataanis akka malee aaree maaddii irraa ka'e; innis sababii hojii qaanii kan
abbaan isaa Daawititti hojjete sanaan gaddeef bultii lammaffaa ji'a sanaatti homaa
hin nyaanne.
35 Yoonaataan ganama barii Daawitin wal arguuf gad ba'e. Gurbaan xinnaan tokkos
isa wajjin ture. 36 Innis gurbaa sanaan, "Fiigiitii xiyya ani darbadhu sana barbaadi"
jedhe. Akkuma gurbaan sun fiigeen Yoonaataan isa duubaan xiyya darbate. 37 Yeroo
gurbichi iddoo xiyyi Yoonaataan bu'e sana ga'etti, Yoonaataan isa waamee, "Xiyyi
siin achi jira mitii?" jedhe. 38 Ergasiis, "Ariifadhu! Dafiitii deemi! Hin dhaabatin!"
jedhee itti iyye; gurbichis xiyya sana fuudhee gara gooftaa isaatti deebi'e. 39 Gurbaan
sun waa'ee waan kana hundaa waan tokko illee hin beekne; Yoonaataanii fi Daawit
qofatu beeka ture. 40 Ergasiis Yoonaataan mi'a isaa kan lolaa gurbichatti kennee,
"Fuudhiitii gara magaalaatti deebi'i" jedheen.
41 Erga gurbichi deemee booddee Daawit karaa kibba dhagaa sanaatii ka'ee yeroo
sadii gad jedhee fuula Yoonaataan duratti addaan lafatti gombifame. Ergasiis isaan
wal dhungatanii walitti boo'an; Daawit garuu caalaa boo'e.
42 Yoonaataanis Daawitiin, " 'Anaa fi si gidduutti, sanyii koo fi sanyii kee gidduutti
Waaqayyo bara baraan dhugaa baatuu dha' waliin jennee akka firummaan keenya
jabaatee dhaabatuuf maqaa Waaqayyootiin walii kakanneerraatii nagaan deemi"
jedhe. Ergasii Daawit ka'ee qajeele. Yoonaataanis gara magaalaatti deebi'e.

# 21

*Daawit Gara Noob Deemuu Isaa*

1 Daawit gara magaalaa Noob Abiimelek lubicha bira dhaqe. Ahiimelekis yeroo isa
argetti hollatee, "Ati maaliif kophaa kee deemta? Maaliif namni tokko illee si wajjin
hin jirru?" jedhee gaafate.
2 Daawitis Ahiimelek lubichaan akkana jedhe; "Mootichi, 'Namni tokko iyyuu
waa'ee ergama keetiitii fi qajeelfama keetii beekuu hin qabu' jedhee na ajajeera.
Namoota koo immoo akka isaan iddoo tokkotti na eegan itti himeera. 3 Egaa isin
maal of harkaa qabdu? Buddeena shan yookaan waanuma argachuu dandeessan
naa kennaa."
4 Lubichi garuu Daawitiin, "Ani buddeena namni kam iyyuu nyaachuu danda'u
asii hin qabu; ta'us buddeenni qulqullaa'aan namoonni dubartii bira hin ga'in qofti
nyaachuu danda'an as jira" jedhe.
5 Daawitis, "Dhugumaan akkuma yeroo ani ba'u hunda ta'aa ture sana dubartoonni
nurraa dhowwamaniiru. Ergama qulqulluu hin ta'in irratti iyyuu mi'i dargaggootaa
qulqulluu dha. Har'a immoo hammam caalaatti haa qulqullaa'uu ree!" jedhee

deebise. 6 Kanaafuu lubichi buddeena qulqulleeffame sana isaaf kenne; buddeena ilaalchaa kan gaafas buddeena ho’aadhaan iddoo buufamuuf fuula WAAQAYYOO duraa fuudhame sana malee buddeenni biraa achi hin turreetii.

7 Gaafasis tajaajiltoota Saa’ol keessaa tokko akka fuula WAAQAYYOO dura turu dirqisiifamee ture; innis Doo’eeg namicha Edoom, itti gaafatamaa tiksee Saa’ol ture.

8 Daawitis, “Ati eeboo yookaan goraadee asii hin qabduu? Ani sababii hojiin mootichaa ariifachiisaa ta’eef goraadee yookaan mi’a lolaa tokko illee hin fidannee?” jedhee Ahiimelekin gaafate.

9 Lubichis deebisee akkana jedhe; “Goraadeen Gooliyaad Filisxeemichaa kan ati Sulula Eelaa keessatti ajjeefte sanaa as jira; innis huccuudhaan maramee dirataan duuba jira. Yoo barbaadde fudhadhu; isa malee goraadeen biraa as hin jiru” jedheen.

Daawitis, “Kan akka isaa hin jiruutii naa kenni” jedhe.

### *Daawit Gara Gaatitti Baqate*

10 Daawit gaafas Saa’ol duraa baqatee gara Aakiish mooticha Gaati dhaqe.
11 Tajaajiltoonni Aakiish garuu, “Daawit kun mooticha biyyattii mitii?” Inni kan isaan:
“ ‘Saa’ol kumaatama ajjeese;
Daawit immoo kuma kumaatama ajjeese’
jedhanii faarfatanii sirbaniif sana mitii?”

12 Daawitis waan kana garaatti qabatee Aakiish mooticha Gaati akka malee sodaate.
13 Kanaafuu fuula isaanii duratti akka waan maraatee ta’e; utuma harka isaanii keessa jiruus cufaa karraa hooqee areeda isaa irra gorora yaasee akka nama maraatee of godhe.

14 Aakiishis tajaajiltoota isaatiin akkana jedhe; “Mee namicha kana ilaalaa! Inni maraatuu dha! Maaliif gara koo isa fiddan? 15 Akka inni fuula koo duratti akkana ta’uuf isa as fiduun keessan ani nama maraate dhabeetii? Namichi kun mana koo dhufuu qabaa?”

## 22

### *Daawit Adulaamii fi Miisphaa Keessatti*

1 Daawit Gaatii ka’ee gara holqa Adulaamitti baqate. Obboloonni isaatii fi maatiin abbaa isaa hundi yeroo waan kana dhaga’anitti gara isaa dhaqan. 2 Namoonni
rakkatan hundi yookaan kanneen gatiin irra jiru hundii fi warri of jibban hundi isa biratti wal ga’an; innis hoogganaa isaanii ta’e. Namoonni isa wajjin turanis gara dhibba afurii ti.

3 Daawit achii ka’ee Miisphaa ishee biyya Mo’aabitti argamtuu dhaqee mooticha Mo’aabiin, “Hamma ani waan Waaqni naaf godhu beekutti akka abbaan koo fi haati koo dhufanii si bira jiraatan ni eeyyamtaa?” jedhe. 4 Innis mootii Mo’aab biratti isaan
dhiise; isaanis yeroo Daawit iddoo da’annoo keessa turetti mooticha bira jiraatan.

5 Ta’us Gaad raajichi Daawitiin, “Da’annoo keessa hin turin. Biyya Yihuudaatti gali” jedhe. Kanaafuu Daawit achii ba’ee bosona Hereeti seene.

### *Saa’ol Luboota Noob Fixuu Isaa*

6 Saa’ol akka Daawitii fi namoonni isaa argaman dhaga’e. Saa’olis eeboo harkatti qabatee gaara Gibe’aa irra muka tamirii jala taa’aa ture. Qondaaltonni isaa hundinuus isa bira dhaabachaa turan. 7 Saa’olis akkana isaaniin jedhe; “Yaa namoota
Beniyaam dhaga’aa! Dhugumaan ilmi Isseey lafa qotiisaatii fi iddoo dhaabaa wayinii hunda keessaniif ni kennaa? Hunda keessanis ajajjuuwwan kumaatii fi ajajjuuwwan dhibbaa ni godhaa? 8 Sababiin isin hundi natti malattaniif kanaa? Yeroo ilmi koo
ilma Isseey wajjin kakuu galutti namni tokko iyyuu natti hin himu. Isin keessaa namni tokko iyyuu dhimma koo hin qabu yookaan akka ilmi koo akka inni akkuma

har'a gochaa jiru kana akka tajaajilaan koo riphee na eeggatuuf isa natti kakaasu isin keessaa namni tokko iyyuu natti hin himu."

9 Garuu Doo'eeg Edoomichi kan qondaaltota Saa'ol wajjin dhaabachaa ture sun akkana jedhee deebise; "Ani ilma Isseey isaa gara Noob Ahiimelek ilma Ahiixuub
bira dhufuu nan arge. 10 Abiimelekis WAAQAYYOON isaaf kadhate; akkasumas galaa fi goraadee Gooliyaad Filisxeemichaa kenneef."

11 Kana irratti mootichi Ahiimelek lubicha ilma Ahiixuubitti nama ergee isaa fi maatii abbaa isaa kanneen Noobitti luboota turan hunda waamsise; isaanis gara
mootichaa dhufan. 12 Saa'olis, "Yaa ilma Ahiixuub dhaga'i" jedhe.

Innis, "Yaa gooftaa, ani kunoo ti" jedhee deebise.

13 Saa'olis akkana isaan jedhe; "Ati maaliif buddeenaa fi goraadee kenniteefii Waaqa kadhachuufiidhaan akka inni natti fincilee akkuma har'a gochaa jiru kana riphee na eeggatu isa gootee ilma Isseey wajjin natti malatte?"

14 Ahiimelekis deebisee mootichaan akkana jedhe; "Dhirsi intala mootichaa, ajajaa loltoota si eeganiitii fi namni mana kee keessatti akka malee kabajamu tajaajiltoota
kee hunda keessaa amanamaan akka Daawit eenyu? 15 Waaqa isaaf kadhachuun koo har'a guyyaa jalqabaatii? Miti! Mootichi garbicha kee yookaan maatii abbaa isaa keessaa nama tokko illee yakkamaa hin godhin; garbichi kee waa'ee waan kana hundaa homaa hin beekuutii."

16 Mootichi garuu, "Yaa Ahiimelek, dhugumaan ati ni duuta; atis, maatiin abbaa keetii hundinuus ni duutu" jedhe.

17 Ergasiis mootichi waardiyyoota isa bira turaniin, "Sababii luboonni WAAQAYYOO kunneen Daawitiif tumsaniif, itti garagalaatii isaan fixaa. Isaan akka inni baqachaa ture ni beeku; ta'us natti hin himne" jedhe.

Qondaaltonni mootichaa garuu luboota WAAQAYYOO dha'uudhaaf harka isaanii ol fudhachuu hin feene.

18 Mootichis, "Itti garagaliitii luboota fixi" jedhee Doo'eeg Edoomicha ajaje. Kanaafuu Doo'eeg Edoomichi itti garagalee isaan dha'e. Inni gaafas luboota dirata
quncee talbaa irraa hojjetame uffatan saddeettamii shan fixe. 19 Noob magaalaa lubootaas, dhiirotaa fi dubartoota ishee, ijoollee fi daa'imman ishee, loon, harrootaa fi hoolota ishee goraadeedhaan barbadeesse.

20 Garuu Abiyaataar ilmi Ahiimelek ilma Ahiixuub sun miliqee gara Daawititti
baqate. 21 Innis akka Saa'ol luboota WAAQAYYOO fixe Daawititti hime. 22 Daawitis
Abiyaataariin akkana jedhe; "Ani gaafas yeroo Doo'eeg Edoomichi achi turetti akka inni dhugumaan Saa'olitti odeessu beekeera. Badiisa maatii abbaa keetii hundaaf
anatu gaafatama. 23 Ana wajjin turi; hin sodaatin; namni lubbuu kee barbaadu, lubbuu koos ni barbaada. Ati na wajjin nagumaan jiraatta."

# 23

### *Daawit Qeyiilaa Baraaruu Isaa*

1 Daawit yommuu, "Kunoo, Filisxeemonni Qeyiilaatti waraana bananii oobdii
saamaa jiru" jedhanii itti himanitti, 2 "Ani dhaqee Filisxeemota kanneen waraanuu?" jedhee WAAQAYYOON gaafate.

WAAQAYYOS, "Dhaqii Filisxeemota waraaniitii Qeyiilaa baraar" jedhee deebiseef.

3 Namoonni Daawit garuu, "Nu as Yihuudaa keessatti iyyuu sodaachaa jirra. Yoo loltoota Filisxeemotaa waraanuuf Qeyiilaa dhaqne immoo hammam haa sodaannu!" jedhaniin.

4 Daawit ammas deebi'ee WAAQAYYOON gaafate; WAAQAYYOS, "Qeyiilaatti gad bu'i;
ani Filisxeemota dabarsee harka keetti nan kennaatii" jedhee deebiseef. 5 Kanaafuu
Daawitii fi namoonni isaa Qeyiilaa dhaqanii Filisxeemota waraananii horii isaanii

booji'an. Daawitis miidhaa guddaa Filisxeemotatti fidee akkasiin saba Qeyiilaa
baraare. 6 Abiyaataar ilmi Ahiimelek sunis yeroo gara Qeyiilaa gara Daawititti
baqatetti dirata fudhatee dhufe.

### *Saa'ol Daawitin Ari'e*

7 Akka Daawit Qeyiilaa dhaqe Saa'olitti himan; innis, "Waan Daawit magaalaa
karraa fi danqaraa qabdu keessa seenuudhaan ofitti cufeef Waaqni isa dabarsee natti
kenneera" jedhe. 8 Saa'olis akka isaan Qeyiilaatti gad bu'anii Daawitii fi namoota isaa
marsaniif jedhee loltoota isaa hunda duulaaf walitti waammate.

9 Daawitis yeroo akka Saa'ol hammina isatti yaade beeketti Abiyaataar lubichaan,
"Dirata sana as fidi" jedhe. 10 Ergasiis Daawit akkana jedhe; "Yaa Waaqayyo,
Waaqa Israa'el akka Saa'ol gara Qeyiilaa dhufee sababii kootiif jedhee magaalattii
barbadeessuuf karoorfate garbichi kee dhugumaan dhaga'eera. 11 Jiraattonni
Qeyiilaa isatti dabarsanii na kennuu? Akkuma garbichi kee dhaga'e sana Saa'ol ni
dhufaa? Yaa Waaqayyo Waaqa Israa'el mee garbicha keetti himi."

Waaqayyos, "Eeyyee inni ni dhufa" jedhe.

12 Daawit ammas, "Jiraattonni Qeyiilaa anaa fi namoota koo dabarsanii Saa'olitti ni
kennuu?" jedhee gaafate.

Waaqayyos, "Eeyyee isin kennu" jedhe.

13 Kanaafuu Daawitii fi namoonni isaa kanneen gara dhibba ja'a ta'an Qeyiilaadhaa
ka'anii gara dhaquu danda'an hunda dhaqan. Saa'olis yommuu akka Daawit Qeyiilaa
keessaa baqate dhaga'etti achi hin dhaqne.

14 Daawitis da'annoowwan gammoojjii keessaatii fi gaarran Gammoojjii Ziif keessa
ture. Saa'olis guyyuma guyyaan isa barbaadaa ture; Waaqni garuu dabarsee harka
isaatti Daawitin hin kennine.

15 Daawit utuu Gammoojjii Ziif keessa iddoo Hooreshaa jedhamu tokko jiruu akka
Saa'ol isa ajjeesuuf dhufe beeke. 16 Yoonaataan ilmi Saa'olis Daawit bira Hooreshaa
dhaqe; maqaa Waaqaatiinis isa jajjabeesse. 17 Innis, "Hin sodaatin; abbaan koo Saa'ol
harkumaanuu si hin tuqu. Ati mootii Israa'el taata; ani immoo itti aanaa kee nan
ta'a. Abbaan koo Saa'ol iyyuu waan kana ni beeka" jedheen. 18 Isaan lamaanuu
fuula Waaqayyoo duratti kakuu walii galan. Ergasii Yoonaataan mana ofii isaatti
gale; Daawit immoo Hooreshaatti hafe.

19 Namoonni Ziif gara Gibe'aa gara Saa'ol dhaqanii akkana jedhan; "Daawit kibba
Yasemooniin gaara Hakiilaa irra da'annoowwan Hooreshaa keessa dhokatee gidduu
keenya jira mitii? 20 Yaa mootii, ati gaafa dhufuu feete kottu; nu isa dabarsinee sitti
ni kennina."

21 Saa'olis deebisee akkana jedhe; "Waan isin naa yaaddaniif Waaqayyo isin haa
eebbisu. 22 Dhaqaatii ittuma fufaa qophaa'aa. Iddoo Daawit yeroo baay'ee dhaquu
fi nama achitti isa argu illee hubadhaa. Akka inni nama daba hojjetu ta'e natti
himaniiru. 23 Iddoo inni itti dhokatu hundumaa barbaadaatii oduu mirkanaa'aa
fidaa kottaa. Ergasii ani isin wajjin nan deema; yoo inni naannoo sana jiraate ani
kumaatama Yihuudaa hunda keessaa barbaadee isa nan arga."

24 Kanaafuu isaan ka'anii Saa'ol dursanii Ziif dhaqan. Daawitii fi namoonni isaa
gama kibba Yasemooniin Gammoojjii Maa'oon kan Arabbaatti argamtu keessa turan.
25 Saa'olii fi namoonni isaa Daawitin barbaaduu jalqaban; Daawitis yommuu waan
kana itti himanitti gara kattaatti gad bu'ee Gammoojjii Maa'oon keessa ture. Saa'olis
yeroo waan kana dhaga'etti Daawitin ari'uuf Gammoojjii Maa'oon seene.

26 Saa'ol gaara gubbaa karaa tokkoon deemaa ture; Daawitii fi namoonni isaa
immoo Saa'ol duraa baqachuuf jedhanii ariifachaa tulluu sana irra karaa kaaniin
deeman. Yeroo Saa'olii fi namoonni isaa itti dhi'aatanii Daawitii fi namoota
isaa qabachuu ga'anitti, 27 ergamaan tokko gara Saa'ol dhufee, "Dafiitii kottu!

Filisxeemonni biyyattii weeraranii jiruutii" jedhe. 28 Saa'olis Daawitin ari'uu dhiisee
Filisxeemotatti gara gale. Kanaafuu iddoon sun, "Kattaa gargar ba'umsaa" jedhame.
29 Daawitis achii deemee da'annoowwan Een Gaadii keessa jiraate.

# 24

*Daawit Saa'olin Ajjeesuu Irraa Of Qabe*

1 Erga Saa'ol Filisxeemota ari'uu irraa deebi'ee booddee, "Daawit Gammoojjii Een
Gaad keessa jira" jedhanii isatti himan. 2 Kana irratti Saa'ol guutummaa Israa'el
keessaa namoota filatamoo kuma sadii fudhatee Daawitii fi namoota isaa barbaacha
gara Kattaa Re'oota diidaa dhaqe.

3 Saa'olis gara dallaa hoolotaa kan karaa cinaa sanaa dhufe; holqa tokkotu achi ture;
Saa'olis gad taa'uuf achi seene. Daawitii fi namoonni isaas holquma sana keessa achi
fagaatanii turan. 4 Namoonni Daawitis, "Guyyaan WAAQAYYO, 'Ani akka ati akkuma
feete isa gootuuf diina kee dabarsee harka keetti nan kenna' jedhee waa'ee isaa sitti
hime sun har'a" isaan jedhan. Daawitis lafa irra loo'ee utuu hin beekamin fiixee
wayyaa Saa'ol irraa kute.

5 Kana booddee Daawit waan fiixee wayyaa Saa'ol kuteef ni gaabbe. 6 Namoota
isaatiinis, "Gooftaa koo kan WAAQAYYO dibetti waan akkasii gochuu yookaan harka
koo isatti ol kaafachuu irraa WAAQAYYO na haa oolchu; inni dibamaa WAAQAYYOOTII"
jedhe. 7 Daawitis dubbii kanaan namoota isaa ifatee akka isaan Saa'olin hin tuqne
godhe. Saa'olis holqa sana keessaa ba'ee qajeele.

8 Ergasii Daawit holqa sana keessaa ba'ee, "Yaa gooftaa koo mootii!" jedhee Saa'olin
waame. Yeroo Saa'ol of irra garagalee ilaaletti Daawit gad jedhee, addaan lafatti
gombifamee sagade. 9 Innis Saa'oliin akkana jedhe; "Ati maaliif dubbii namoonni,
'Daawit si miidhuu barbaada' jedhan dhageessa? 10 Akka WAAQAYYO holqa kana
keessatti dabarsee harka kootti si kenne har'a ijuma keetiin argiteerta. Namoonni
tokko tokko akka ani si ajjeesu na gorsan; ani garuu si ajjeesuu nan dide; anis, 'Sababii
inni dibamaa WAAQAYYOO ta'eef, ani gooftaa kootti harka koo ol hin fudhadhun'
jedhe. 11 Yaa abbaa ko, kunoo fiixee wayyaa keetii harka koo keessatti ilaali! Ani
fiixee wayyaa keetii nan kute; garuu si hin ajjeefne. Egaa akka ani yakka hin
qabnee fi fincilaa hin ta'in hubadhu. Ani homaa si hin goone; ati garuu na ajjeesuuf
na adamsaa jirta. 12 WAAQAYYO si'ii fi ana gidduutti murtii haa kennu. Yakka ati
natti hojjette WAAQAYYO haaloo haa baasu; ani garuu harka kootiinuu si hin tuqu.
13 Akkuma mammaaksi durii, 'Namoota hamoo irraa waan hamaatu dhufa' jedhu
sana harki koo si hin tuqu.

14 "Mootiin Israa'el eenyun adamsuuf gad ba'ee? Ati eenyuun ari'aa jirta? Saree
duutee? Tafkiidhaa? 15 WAAQAYYO abbaa murtii nuuf ta'ee gidduu keenyatti haa
murteessu. Inni dubbii koo ilaalee naaf haa falmu; harka kee jalaas na haa baasu."

16 Yeroo Daawit waan kana dubbatee xumuretti Saa'ol, "Daawit yaa ilma ko, kun
sagalee keetii?" jedhee gaafate; sagalee ol fudhatees boo'e. 17 Innis akkana jedhe; "Ati
na caalaa nama qajeelaa dha; yeroo ani waan hamaa sitti yaadetti ati immoo waan
gaarii naa goote. 18 Ati waan gaarii naaf goote amma natti himteerta; WAAQAYYO
dabarsee harka keetti na kennee ture; ati garuu na hin ajjeefne. 19 Namni tokko
yeroo diina isaa argutti utuu hin miidhin gad dhiisaa? Waan ati har'a naa goote
kanaaf WAAQAYYO gatii siif haa kennu. 20 Akka ati dhugumaan mootii taatuu fi
akka mootummaan Israa'el harka keetti jabaatee dhaabatu anuu beeka. 21 Ati akka
sanyii koo hin balleessine yookaan akka maqaa koos maatii abbaa koo keessaa hin
balleessine amma maqaa WAAQAYYOOTIIN naaf kakadhu."

22 Kana irratti Daawit Saa'oliif kakate. Ergasii Saa'ol manatti gale; Daawitii fi
namoonni isaa garuu da'annootti deebi'an.

# 25

*Daawit, Naabaalii fi Abiigayiil*

[1] Saamu'eel ni du'e; sabni Israa'el hundi wal ga'ee isaaf boo'e; mana isaa kan
Raamaa jirutti isa awwaalan. Kana irratti Daawit achii ka'ee gara Gammoojjii
Phaaraanitti gad bu'e.
[2] Namni Maa'oon kan Qarmeloos keessaa qabeenya qabu tokko akka malee
sooressa ture. Innis re'oota kuma tokkoo fi hoolota kuma sadii kanneen Qarmeloositti
rifeensa irraa haadatu qaba ture. [3] Maqaan isaa Naabaal, kan niitii isaa immoo
Abiigayiilii dha. Isheen dubartii beektuu fi bareedduu turte; dhirsi ishee garuu
addaggee fi hamaa ture; gosti isaas gosa Kaaleb.
[4] Daawit akka Naabaal Gammoojjii keessatti hoolota isaa irraa rifeensa haaddachaa
jiruu ni dhaga'e. [5] Kanaafuu akkana jedhee dargaggoota kudhan erge; "Naabaal bira
gara Qarmeloos dhaqaatii maqaa kootiin nagaa isa gaafadhaa. [6] Akkanas jedhaanii:
'Bara dheeraa jiraadhu! Nagaan siif haa ta'u; nagaan maatii keetiifis haa ta'u! Waan
ati qabdu hundaafis haa ta'u!
[7] " 'Ani amma akka yeroon kun yeroo itti hoolota irraa rifeensa haadan ta'e
dhaga'eera. Yeroo tiksoonni kee nu wajjin turanitti nu isaan hin miine; yeroo isaan
Qarmeloos keessa turan guutuus wanni isaan qaban tokko iyyuu jalaa hin badne.
[8] Hojjettoota kee gaafadhu; isaan sitti himuutii. Kanaafuu waan nu yeroo gaarii
dhufneef dargaggoota kootiif arjoomi. Maaloo tajaajiltoota keetii fi ilma kee Daawitiif
waanuma amma harkaa qabdu kenni.' "
[9] Namoonni Daawitis yeroo achi ga'anitti maqaa Daawitiin dhaamsa kana
Naabaalitti himanii deebii isaa eeggatan.
[10] Naabaalis tajaajiltoota Daawitiif akkana jedhee deebise; "Daawit kun eenyu? Ilmi
Isseey kun eenyu? Yeroo ammaa tajaajiltoonni hedduun gooftota isaanii jalaa badaa
jiru. [11] Egaa ani maaliifan buddeena koo, bishaan koo fi foon namoota hoolota koo
irraa rifeensa haadaniif qale namoota eessaa akka dhufan hin beekamneef kenna?"
[12] Namoonni Daawitis of irra garagalanii deebi'an. Yeroo deebi'anittis waan
hunda isatti himan. [13] Daawitis namoota isaatiin, "Goraadee keessan hidhadhaa!"
jedhe. Kanaafuu isaan goraadee isaanii hidhatan; Daawitis goraadee isaa hidhate.
Namoonni gara dhibba afur ta'an Daawit wajjin deeman; namoonni dhibbi lama
immoo mi'a biratti hafan.
[14] Tajaajiltoota keessaa inni tokko akkana jedhee Abiigayiil niitii Naabaalitti hime:
"Daawit akka isaan gooftaa keenyaaf nagaa dhi'eessaniif gammoojjiidhaa ergamoota
ergee ture; inni garuu akka malee isaan arrabse. [15] Ta'us namoonni kunneen nuuf
baay'ee gaarii turan. Isaan nu hin miine; yeroo isaan wajjin bosona turre hundas
wanti tokko iyyuu nu jalaa hin badne. [16] Yeroo nu hoolota keenya isaan bira tiksaa
turre hunda isaan halkanii fi guyyaa dallaa nuu ta'anii turan. [17] Sababii gooftaa
keenyaa fi guutummaa mana isaa balaan marseef ati amma waan gochuu dandeessu
yaadi. Sababii inni nama hamaa akkanaa ta'eef namni tokko iyyuu isatti dubbachuu
hin danda'u."
[18] Abiigayiil yeroo hin balleessine. Isheen buddeena dhibba lama, daadhii wayinii
qalqalloo lama; hoolota qalmaaf qopheeffaman shan, akaayii safartuu shan, maxinoo
ija wayinii dhibba tokkoo fi maxinoo ija harbuu dhibba lama fudhattee harreetti
fe'atte. [19] Ergasii tajaajiltoota isheetiin, "Na dursaatii deemaa; ani isinan qaqqaba"
jette. Garuu dhirsa ishee Naabaalitti hin himne.
[20] Utuma isheen harree yaabbattee tulluudhaan da'attee gad bu'aa jirtuu Daawitii
fi namoonni isaa isheetti dhufan; isheenis isaan simatte. [21] Daawit akkana jedhee
ture; "Ani akka wanni inni qabu tokko illee jalaa hin badneef gammoojjiitti qabeenya
namicha kanaa eeguun koo gatii dhabeera. Inni waan gaarii ani isaaf godheef waan

hamaa naaf deebiseera. 22 Yoo ani bori ganama waan kan isaa ta'e keessaa dhiira
tokko illee lubbuun hambise, Waaqni Daawitin haa adabu; adabbiin sunis akka malee
haa cimu!"
23 Abiigayiil yeroo Daawitin argitetti daftee harree ishee irraa buutee adda isheetiin
fuula Daawit duratti lafatti gombifamtee sagadde. 24 Isheenis miilla isaa irratti
kuftee akkana jette: "Yaa gooftaa ko, balleessaan hundi ana qofa irra haa jiraatu.
Maaloo akka garbittiin kee sitti dubbattu eeyyamiif; waan garbittiin kee dubbachuu
barbaaddus dhaga'i. 25 Gooftaan koo waa'ee namicha hamaa sanaa waa'ee Naabaal
homaattuu hin hedin. Inni akkuma maqaa isaa ti; hiikkaan maqaa isaas gowwaa
jechuu dha. Gowwummaanis isa wajjin jira. Ani garbittiin kee garuu namoota
gooftaan koo erge sana hin argine. 26 Akka ati dhiiga hin dhangalaafnee fi akka
harka keetiin haaloo hin baafne WAAQAYYO si eegeera; dhugaa WAAQAYYO jiraataa;
du'a kee ti; diinonni keetii fi warri gooftaa koo miidhuu barbaadan hundi akkuma
Naabaal haa ta'an. 27 Kennaan garbittiin kee gooftaa kootiif fidde kunis namoota si
duukaa bu'aniif haa kennamu.
28 "Waan gooftaan koo lola WAAQAYYOO loluuf WAAQAYYO gooftaa kootiif dhugu-
maan mootummaa bara baraa ni dhaabaatii. Maaloo balleessaa garbittii keetii
dhiisiif. Bara jireenya keetii keessas yakki tokko iyyuu sirratti hin argamin. 29 Eenyu
iyyuu lubbuu kee balleessuuf jedhee si ari'u illee, lubbuun gooftaa koo waldaa
jiraattotaa keessatti WAAQAYYO Waaqa keetiin ni eegamti. Inni garuu akkuma waan
wiirtuu furrisa keessaa furrifamuutti lubbuu diina keetii furrisee ni darbata. 30 Yeroo
WAAQAYYO akkuma gooftaa kootiif waadaa gale sanatti waan gaarii hunda godheefii
Israa'el irratti hoogganaa godhee isa muudutti, 31 gooftaan koo sababii yakka malee
dhiiga dhangalaasuutiin yookaan sababii haaloo baafachuutiin waan isa gaabbisiisu
yookaan waan qalbii isaa tuqu tokko illee hin qabaatin. Yeroo WAAQAYYO Waaqni kee
gooftaa kootiif waan gaarii godhutti garbittii kee yaadadhu."
32 Daawitis Abiigayiiliin akkana jedhe; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el inni akka ati
har'a na argituuf natti si erge haa eebbifamu. 33 Ati sababii har'a gorsa gaarii
naa kennitee dhiiga dhangalaasuu fi harkuma kootiin haaloo baafachuu irraa na
deebifteef eebbifami. 34 Dhugaa WAAQAYYO Waaqa Israa'el kan isin miidhuu na
dhowwe jiraataa sanaa, utuu ati daftee na arguuf dhufuu baattee silaa ilmaan
Naabaal keessaa dhiirri tokko iyyuu hamma lafti bariitutti hin hambifamu ture."
35 Daawitis ergasii waan isheen isaaf fidde sana harka ishee irraa fuudhatee,
"Nagaan gali. Ani waan ati jette dhaga'eera; gaaffii kees fudhadheera" jedhe.
36 Yeroo Abiigayiil gara Naabaal dhaqxetti, inni mana isaatti cidha akkuma cidha
mootii tokkoo qopheessee ture. Innis gammachuudhaan guutamee akka malee
machaa'ee ture. Kanaafuu isheen hamma lafti bariitutti waan tokko illee isatti hin
himne. 37 Ganama sanas yeroo machiin Naabaal irraa galetti niitiin isaa waan kana
hunda itti himte; onneen isaas ni dhaabatte; innis akkuma dhagaa ta'e. 38 Bultii
kudhan booddee WAAQAYYO Naabaalin dha'e; innis ni du'e.
39 Daawitis yeroo akka Naabaal du'e dhaga'etti, "WAAQAYYO isa arrabsoo Naabaal
haaloo naaf baaseef galanni haa ga'u. Inni garbicha isaa yakka hojjechuu dhowwee
yakka Naabaal matuma isaatti deebiseeraatii" jedhe.
Daawitis akka isheen niitii isaaf taatu gaafachuuf Abiigayiilitti ergaa erge.
40 Tajaajiltoonni isaas Qarmeloos dhaqanii Abiigayiiliin, "Daawit akka ati isaaf niitii
taatuuf akka nu isatti si geessinuuf sitti nu erge" jedhan.
41 Isheenis adda isheetiin lafatti gombifamtee, "Garbittiin kee kunoo ti; ani si
tajaajiluu fi miilla tajaajiltoota gooftaa koo dhiquuf qophaa'eera" jette. 42 Abiigayiilis
daftee harree yaabbattee tajaajiltoota ishee dubara shan qabattee ergamoota Daawit
wajjin deebitee dhaqxee Daawitiif niitii taate. 43 Akkasumas Daawit biyya Yizri'eel
keessaa Ahiinoo'amin fuudhe; lamaan isaanii iyyuu niitota ta'aniif. 44 Saa'ol garuu

Miikaal intala isaa kan niitii Daawit turte sana Phaltii'eel ilma Laayish kan lammii Galiim ture sanatti heerumsiise.

# 26

*Daawit Ammas Saa'olin Ajjeesuu Irraa Of Qabe*

1 Namoonni Ziif gara Gibe'aa Saa'ol bira dhaqanii, "Kunoo Daawit gaara Hakiilaa kan Yasemoonitti garagaltu irra dhokatee jira mitii?" jedhan.

2 Kanaafuu Saa'ol namoota Israa'el keessaa filataman kuma sadii wajjin Daawitin
barbaacha Gammoojjii Ziifitti gad bu'e. 3 Saa'ol qubata isaa daandii gaara Hakiilaa
kan Yasemoonitti garagalu sana cina dhaabbate; Daawit garuu gammoojjii keessa
ture. Innis yeroo akka Saa'ol isa duukaa bu'aa jiru beeketti, 4 basaastota ergee akka
Saa'ol dhugumaan achi ga'e mirkaneeffate.

5 Daawitis achii ba'ee iddoo Saa'ol qubate dhaqe. Innis iddoo Saa'olii fi Abneer ilmi Neer ajajaan loltootaa ciciisan arge. Saa'ol qubata keessa rafe; loltoonnis isa marsanii turan.

6 Daawitis Ahiimelek namicha Heetii fi Abiishaayi ilma Zeruuyaa obboleessa Yoo'aabiin, "Eenyutu na wajjin gara qubata kanaa Saa'olitti seena?" jedhee gaafate.

Abiishaayis, "Anatu si wajjin seena" jedhe.

7 Kanaafuu Daawitii fi Abiishaayi halkaniin gara loltootaa dhaqan; Saa'ol eeboo isaa mataa isaa bira lafatti dhaabee qubata keessa rafaa ture. Abneerii fi loltoonni immoo isa marsanii ciciisaa turan.

8 Abiishaayis Daawitiin, "Har'a Waaqni diinota kee dabarsee harka keetti kenneera. Mee akka ani utuu itti hin deebi'in yeruma tokkoon eeboo kootiin waraanee lafatti isa hodhu naa eeyyami; irra deebi'ee dha'uus na hin barbaachisu" jedhe.

9 Daawit garuu Abiishaayiin akkana jedhe; "Isa hin ajjeesin! Namni nama
WAAQAYYO dibetti harka ol fudhatee yakka malee hafu jiraa? 10 Dhugaa WAAQAYYO
jiraataa, WAAQAYYO mataan isaa iyyuu isa ni galaafata yookaan inni yeroon isaa
ga'ee ni du'a yookaan duula dhaqee achitti ni du'a. 11 Garuu akka ani dibamaa
WAAQAYYOOTTI harka koo ol hin kaafanne WAAQAYYO na haa eegu; amma garuu eeboo
fi cuggee bishaanii kan mataa isaa bira jiru fuudhiitii haa deemnu."

12 Kanaafuu Daawit eeboo fi cuggee bishaanii kan mataa Saa'ol bira ture sana fudhatee ka'anii deeman. Namni waan kana arge yookaan beeke tokko iyyuu hin turre yookaan namni tokko iyyuu hin dammaqne. Sababii WAAQAYYO hirriba cimaa isaanitti gad dhiiseef hundi isaanii rafanii turan.

13 Ergasii Daawit gamatti ce'ee fagaatee fiixee gaara irra dhaabate; gidduu isaaniis
lafa bal'aatu ture. 14 Daawitis loltootaa fi Abneer ilma Neeriitiin, "Yaa Abneer, ati
deebii naaf hin kennituu?" jedhee lallabe.

Abneeris deebisee, "Ati kan mootiitti iyyitu eenyu?" jedhe.

15 Daawit akkana jedhe; "Abneer, ati jagna mitii? Israa'el keessatti namni siin
qixxaatu eenyu? Ati maaliif gooftaa kee mooticha sirriitti hin eegne? Kunoo namni
tokko gooftaa kee mooticha ajjeesuuf dhufee tureetii. 16 Wanni ati goote gaarii miti.
Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, atii fi namoonni kee du'uu qabdu; isin gooftaa keessan
dibamaa WAAQAYYOO sana hin eegneetii. Mee naannoo kee ilaali. Eeboo fi cuggeen
bishaanii kan mataa mootichaa bira ture sun meerre?"

17 Saa'ol sagalee Daawit beekee, "Yaa ilma koo Daawit, kun sagalee keetii?" jedhe.

Daawitis, "Eeyyee; sagalee koo ti; yaa gooftaa koo mootii" jedhee deebise. 18 Itti
fufees akkana jedhe; "Gooftaan koo maaliif tajaajilaa isaa ari'a? Ani maalin godhe?
Ani yakka maalin qaba? 19 Egaa mee gooftaan koo mootichi dubbii tajaajilaa isaa
haa dhaga'u. Yoo WAAQAYYO natti si kakaasee jiraate inni aarsaa haa fudhatu.
Garuu namoonni yoo waan kana godhanii jiraatan fuula WAAQAYYOO duratti haa
abaaraman! Isaan akka ani dhaala WAAQAYYOO keessaa qooda hin qabaanneef na

ari'anii, 'Dhaqiitii waaqota biraa tajaajili' jedhan. 20 Dhiigni koo fuula WAAQAYYOO
duraa fagaatee akka lafatti dhangala'u hin godhin. Akkuma namni tokko gaara
gubbaatti gogorrii adamsu sana mootiin Israa'el tafkii barbaaduu ba'eera."
21 Saa'olis, "Ani yakka hojjedheera. Yaa ilma koo Daawit kottuu deebi'i. Sababii
har'a lubbuun koo fuula kee duratti ulfina argatteef ani lammata si miidhuu hin
yaalu. Ani dhugumaan hojii gowwummaa hojjedheera; guddaas dogoggoreera
jedhe."
22 Daawitis akkana jedhee deebise; "Eeboon moottichaa kunoo ti; dargaggoota kee
keessaa namni tokko dhufee haa fuudhu. 23 WAAQAYYO nama hundaaf qajeelummaa
isaatii fi amanamummaa isaatiif gatii ni kenna. WAAQAYYO har'a dabarsee harka
kootti si kennee ture; ani garuu dibamaa WAAQAYYOOTTI harka ol hin fudhadhu.
24 Akkuma ani har'a lubbuu kee ulfeesse kana, WAAQAYYOS lubbuu koo ulfeessee
rakkina hunda jalaa na haa baasu."
25 Kana irratti Saa'ol Daawitiin, "Yaa ilma koo Daawit eebbifami; ati waan guddaa
hojjetta; dhugumaanis ni mo'atta" jedhe.
Kanaafuu Daawit karaa isaa itti fufe; Saa'olis gara manaatti deebi'e.

# 27

*Daawit Filisxeemota Keessa Jiraate*

1 Daawit garuu akkana jedhee yaade; "Guyyoota kanneen keessaa gaafa tokko
ani harka Saa'oliin nan ajjeefama. Wanni ani gochuu qabu guddaan gara biyya
Filisxeemotaatti baqachuu dha. Ergasiis Saa'ol guutummaa biyya Israa'el keessa na
barbaaduu ni dhiisa; anis harka isaa jalaa nan ba'a."
2 Kanaafuu Daawit namoota dhibba ja'aan isa wajjin turan wajjin ka'ee Aakiish
mooticha Gaati, ilma Maa'ooki bira dhaqe. 3 Daawitii fi namoonni isaa Gaati keessa
Aakiish bira turan. Tokkoon tokkoon namaas maatii isaa wajjin ture; Daawitis
niitota isaa lamaan jechuunis Ahiinoo'am kan lammii Yizri'eelii fi Abiigayiil lammii
Qarmeloos kan niitii Naabaal turte sana wajjin ture. 4 Saa'olis yommuu akka Daawit
gara Gaatitti baqate dhaga'etti isa barbaaduu dhiise.
5 Daawitis Aakiishiin, "Yoo ani fuula kee duratti surraa argadhee jiraadhe, akka ani
achi jiraadhuuf magaalaawwan biyyattii keessaa magaalaa tokko keessatti iddoon
naaf haa kennamu. Garbichi kee maaliif si wajjin magaalaa mootii keessa jiraata?"
jedhe.
6 Akkasiin Aakiish gaafuma sana Siiqlaagin isaaf kenne; magaalattiinis gaafasii
jalqabdee kan mootota Yihuudaa taate. 7 Daawitis waggaa tokkoo fi ji'a afur biyya
Filisxeemotaa jiraate.
8 Yeroo sanattis Daawitii fi namoonni isaa ka'anii Geshuurota, Girzootaa fi
Amaaleqoota weeraran. Namoonni kunneen bara duriitii jalqabanii biyya Shuuri
kan hamma Gibxitti bal'atu keessa jiraachaa turan. 9 Daawit yeroo biyya sana lole
hunda dhiira yookaan dubartii tokko illee lubbuun hin hambifne; garuu hoolotaa fi
loon, harrootaa fi gaalawwan akkasumas uffata fudhatee gara Aakiishitti deebi'e.
10 Yeroo Aakiish, "Har'a eenyun weerartan?" jedhee gaafatetti, Daawit, "Negeeb
Yihuudaa" yookaan "Negeeb Yerami'eelotaa" yookaan "Negeeb Qeenotaa" jedhe.
11 Daawitis, "Waan isaan, 'Wanni Daawit godhe kana dha' jedhanii nurratti odeessan"
jedhee yaadeef akka dhiirri yookaan dubartiin tokko iyyuu Gaatitti geeffamaniif
lubbuun hin hambifne. Wanni inni yeroo biyya Filisxeem keessa jiraate hunda
hojjetes kanuma ture. 12 Aakiishis waan, "Inni saba isaa Israa'el biratti jibbamaa
of godheera; kanaafuu bara baraan garbicha koo ta'a" jedhee yaadeef Daawitin ni
amane.

# 28

*Saa’olii fi Eker Dubbiftuu Tokko*

1 Bara sana keessa Filisxeemonni Israa’eloota loluuf humna isaanii walitti qabatan.
Aakiishis Daawitiin, “Akka atii fi namoonni kee na wajjin duuluu qabdan beeki”
jedhe.

2 Daawitis, “Waan garbichi kee hojjechuu danda’u ati iyyuu yeroo sana ni argita”
jedhe.

Aakiish deebisee, “Baay’ee gaarii dha; ani bara jireenya koo guutuu waardiyyaa
koo sin godhadha” jedhe.

3 Bara sana Saamu’eel du’ee Israa’eloonni hundi boo’aniifii magaalaa isaa Raa-
maatti isa awwaalan. Saa’olis ilaaltotaa fi eker dubbiftoota biyyaa baasee ture.

4 Filisxeemonni wal ga’anii Suunamin qubatan; Saa’ol immoo Israa’eloota hunda
walitti qabee Gilbo’aa keessa qubate. 5 Saa’ol yeroo qubata Filisxeemotaa argetti ni
na’e; garaan isaas sodaan raafame. 6 Innis WAAQAYYOON gaafate; WAAQAYYO garuu
abjuudhaan yookaan Uriimiidhaan yookaan raajotaan deebii hin kennineef. 7 Kana
irratti Saa’ol tajaajiltoota isaatiin, “Akka ani dhaqee ishee gaafadhuuf dubartii eker
dubbiftuu naaf barbaadaa” jedhe.

Isaanis, “Kunoo dubartiin ekeraa dubbiftu tokko Eendoor jirti” jedhan.

8 Kanaafuu Saa’ol wayyaa biraa uffatee bifa geeddarachuudhaan tajaajiltoota isaa
lama wajjin halkaniin gara dubartii ekeraa dubbiftuu sanaa dhaqe. Innis, “Ekeraa
naaf dubbisiitii nama ani maqaa isaa sitti himu ol naaf baasi” jedhe.

9 Dubartiin sun garuu, “Ati waan Saa’ol hojjete dhugumaan beekta. Inni ilaaltotaa
fi eker dubbiftoota lafa irraa fixeera. Egaa maaliif lubbuu koo kiyyoo du’aa keessa
galchita ree?” jetteen.

10 Saa’olis maqaa WAAQAYYOOTIIN isheef kakatee, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ati
waan kanaaf hin adabamtu” jedhe.

11 Dubartittiin sunis, “Ani eenyun ol siif baasu ree?” jettee gaafatte.

Innis, “Saamu’eelin ol naaf baasi” jedhe.

12 Dubartiin sunis yommuu Saamu’eelin argitetti guddiftee iyyite. Saa’oliin,
“Maaliif na gowwoomsite? Ati Saa’olii dha!” jette.

13 Mootichis, “Hin sodaatin. Ati maal argaa jirta?” isheen jedhe.

Dubartiin sunis, “Ani hafuura lafa keessaa ol ba’aa jiru tokko nan arga” jette.

14 Saa’olis, “Inni maal fakkaata?” jedhee gaafate.

Isheenis, “Jaarsi wayyaa dheeraa uffate tokko ol ba’aa jira” jette.

Saa’olis akka namni sun Saamu’eel ta’e beeke; gad jedhees addaan lafatti
gombifamee sagade.

15 Saamu’eelis Saa’oliin, “Ati maaliif ol na baasuudhaan na jeeqxa?” jedhe.

Saa’olis akkana jedheen, “Ani baay’ee dhiphadheera; Filisxeemonni na lolaa jiru;
Waaqnis narraa garagaleera. Inni raajotaan yookaan abjuudhaan deebii naa hin
kennu. Kanaafuu akka ati waan ani gochuu qabu natti himtuufan si waammadhe.”

16 Saamu’eelis akkana jedhe; “Ati erga WAAQAYYO sirraa garagalee diina sitti ta’ee
maaliif na waamta? 17 WAAQAYYO waanuma duraan dursee karaa kootiin dubbate
sana fiixaan baase. WAAQAYYO mootummaa harka kee keessaa butee ollaa kee
keessaa nama tokkoof jechuunis Daawitiif kenneera. 18 Sababii ati WAAQAYYOOF
hin ajajaminiif yookaan dheekkamsa isaa sodaachisaa sana Amaaleqoota irratti
hin raawwatiniif WAAQAYYO har’a waan kana sitti fideera. 19 Israa’elii fi si’i illee
WAAQAYYO dabarsee harka Filisxeemotaatti ni kenna; atii fi ilmaan kee bori gara koo
dhuftu. WAAQAYYOS loltoota Israa’el dabarsee Filisxeemotatti ni kenna.”

20 Saa’ol waan dubbii Saamu’eeliin akka malee sodaateef yeruma sana hojjaa isaa
guutuudhaan kufe. Inni waan halkanii fi guyyaa sana guutuu homaa hin nyaatiniif
humna dhabee ture.
21 Dubartittiinis yommuu gara Saa’ol dhuftee akka inni akka malee sodaate argitetti
akkana jette; “Kunoo tajaajiltuun kee siif ajajamteerti. Ani lubbuu kootti murteessee
waan ati jette godheera. 22 Ammas maaloo tajaajiltuu kee dhaga’i; ani nyaata xinnoo
siifan kenna; atis nyaattee jabaattee karaa kee qajeelta.”
23 Inni immoo, “Hin nyaadhu” jedhee dide.
Ta’us namoonni isaa dubartittii wajjin isa jajjabeessinaan inni isaan dhaga’e. Lafaa
ka’ees siree irra taa’e.
24 Dubartiin sunis dibicha gabbifame tokko manaa qabdi turte; isheenis yerood-
huma sana qalte. Daakuu xinnoo fuutee sukkuumtee buddeena raacitii hin qabne
tolchite. 25 Isheenis Saa’olii fi namoota isaatiif dhi’eessite; isaanis ni nyaatan.
Halkanuma sanas achii ka’anii deeman.

# 29

*Aakiish Daawitin Siiqlaagitti Deebisee Erge*

1 Filisxeemonni loltoota isaanii hunda Afeeqitti walitti qabatan; Israa’eloonni
immoo burqaa Yizri’eel keessa jiru bira qubatan. 2 Yommuu bulchitoonni Filisxeem
dhibba dhibbaa fi kuma kumaan qoodamanii duulanitti Daawitii fi namoonni
isaa Aakiish wajjin dugda duuba deemaa turan. 3 Ajajjoonni loltoota Filisxeemis,
“Ibroonni kunneen maali asii hojjetu?” jedhanii gaafatan.
Aakiishis deebisee, “Kun Daawit qondaalticha Saa’ol mooticha Israa’el sanaa mitii?
Inni waggaa tokko caalaa na wajjin ture; gaafa inni Saa’olin dhiisee jalqabee hamma
ammaatti ani yakka tokko illee isa irratti hin argine” jedhe.
4 Ajajjoonni loltoota Filisxeem garuu isatti aaranii akkana jedhan; “Akka inni iddoo
ati isa itti ramadde sanatti deebi’uuf namicha kana deebisii ergi. Inni nu wajjin
duuluu hin qabu; yoo kanaa achii inni lola keessatti nutti garagala. Inni yoo mataa
namoota keenyaa kukkutuudhaan ta’e malee akkamitti gooftaa isaatti araaramuu
danda’a? 5 Daawit kun namichuma isaan,
“ ‘Saa’ol kumaatama ajjeese;
Daawit immoo kuma kumaatama ajjeese’
jedhanii sirbanii shubbisaniif sana mitii?”
6 Kanaafuu Aakiish Daawitin waamee akkana jedheen; “Dhugaa Waaqayyo jiraataa,
ati nama amanamaa turte; ani utuu ati na wajjin loltoota keessa tajaajiltee nan
gammada. Gaafa ati na bira dhuftee jalqabee hamma har’aatti ani yakka tokko illee
sirratti hin argine; garuu bulchitoonni si hin fudhanne. 7 Deebi’ii nagaan deemi;
waan bulchitoota Filisxeemotaa gaddisiisu tokko illee hin hojjetin.”
8 Daawit, “Garuu ani maalin godhe? Erga ani gara kee dhufee jalqabee hamma
ammaatti yakki ati tajaajilaa kee irratti argite maali? Ani maaliifin dhaqee diinota
gooftaa koo moottichaa waraanuu hin danda’u?” jedhee gaafate.
9 Aakiish akkana jedhee deebiseef; “Ani akka ati fuula koo duratti akkuma ergamaa
Waaqayyoo namatti toltu beeka; ta’us ajajjoonni Filisxeemotaa, ‘Inni nu wajjin
duuluu hin qabu’ jedhaniiru. 10 Egaa amma ka’iitii tajaajiltoota gooftaa keetii
kanneen si wajjin dhufan wajjin ganamaan akkuma lafti ifeen deemaa.”
11 Kanaafuu Daawitii fi namoonni isaa ganama bariin ka’anii gara biyya Filisx-
eemotaa dhaquuf qajeelan; Filisxeemonni immoo gara Yizri’eelitti ol ba’an.

# 30

*Daawit Amaaleqoota Barbadeesse*

1 Daawitii fi namoonni isaa guyyaa sadaffaatti Xiiqlaag ga'an. Yeroo sanattis
Amaaleqoonni Negeebii fi Siiqlaagin weeraranii turan. Isaanis Xiiqlaagin dha'anii
ibiddaan guban; 2 dubartootaa fi warra achi keessa turan hunda, dargaggeeyyii fi
jaarsolii booji'an. Hunda isaanii fudhatanii deeman malee nama tokko illee hin
ajjeefne.

3 Yommuu Daawitii fi namoonni isaa Siiqlaag dhufanitti magaalattiin ibiddaan
gubamtee niitonni isaanii, ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii hundinuu booji'amanii
turan. 4 Kana irratti Daawitii fi namoonni isa wajjin turan hamma boo'uu
dadhabanitti iyyanii boo'an. 5 Niitonni Daawit lamaanuu jechuunis Ahiinoo'am
Yizri'eelittiinii fi Abiigayiil niitiin Naabaal namichi Qarmeloos sun irraa du'e
qabamanii turan. 6 Daawit waan namoonni dhagaadhaan isa tumuuf mari'achaa
turaniif akka malee yaadda'e; tokkoon tokkoon namaa sababii ilmaanii fi intallan
isaatiif garaan isaa gubatee ture. Daawit garuu WAAQAYYO Waaqa isaatiin jabina
argate.

7 Daawitis Abiyaataar lubicha ilma Ahiimelekiin, "Dirata sana naa fidi" jedhe.
Abiyaataaris ni fideef; 8 Daawitis, "Ani garee weerartootaa kana duukaa bu'uu? Ani
isaan qaqqabuu nan danda'aa?" jedhee WAAQAYYOON gaafate.

Innis deebisee, "Isaan duukaa bu'aa; ni qaqqabdaatii; boojuu illee dhugumaan
irraa buufatta" jedheen.

9 Daawitii fi namoonni isa wajjin turan dhibbi ja'an gara Laga Besoor dhufan;
gartokkeen isaaniis achitti hafan. 10 Namoonni dhibba lama waan akka malee
dadhabaniif laga Besoor ce'uu hin dandeenye. Daawitii fi namoonni dhibba afur
garuu ittuma fufanii duukaa bu'an.

11 Isaanis namicha Gibxi tokko dirree irratti arganii Daawititti fidanii bishaan inni
dhuguu fi waan inni nyaatu kennaniif. 12 Akkasumas bixxillee harbuu cabaa tokkoo
fi bixxillee ija wayinii lama kennaniif. Innis nyaatee lubbuun itti deebite; inni guyyaa
sadii fi halkan sadii homaa hin nyaanne, bishaanis hin dhugne tureetii.

13 Daawitis, "Ati kan eenyuu ti? Eessaa dhufte?" jedhee isa gaafate.

Namichis akkana jedhe; "Ani nama biyya Gibxi; garbicha Amaaleqicha tokkoo ti.
Gooftaan koo guyyaa sadiin dura ani fayyaa dhabnaan na gatee deeme. 14 Nus Negeeb
kan Kereetotaa, kutaa Yihuudaatii fi Negeeb Kaaleb weerarree Siiqlaagin ibiddaan
gubne."

15 Daawitis, "Iddoo gareen weerartuu kanaa jirutti na geessuu ni dandeessaa?"
jedheen.

Innis deebisee, "Akka na hin ajjeefne yookaan akka dabarsitee gooftaa kootti na
hin kennine fuula Waaqaa duratti naa kakadhu; anis iddoo isaan jiranitti sin geessaa"
jedhe.

16 Yommuu namichi sun iddoo isaan jiranitti Daawitin geessetti, Amaaleqoonni
sababii boojuu guddaa biyya Filisxeemii fi Yihuudaatii fudhatan sanaatiif baadiyyaa
keessa faffaca'anii nyaachaa, dhugaa, sirbaas turan. 17 Daawitis galgala sanaa
jalqabee hamma galgala guyyaa itti aanuutti isaan waraane; dargaggeeyyii dhibba
afur kanneen gaalawwan yaabbatanii baqatan malee isaan keessaa namni tokko
iyyuu hin miliqne. 18 Daawit waan Amaaleqoonni booji'an hunda harkaa buufate;
niitota isaa lamaanis ni deebifate. 19 Wanni tokko iyyuu hin hir'anne; jechuunis
dargaggeessi yookaan jaarsi, dhiirri yookaan durbi, wanni saamame yookaan wanni
isaan fudhatan tokko iyyuu hin hir'anne. Daawit waan hunda harkaa buufatee
fide. 20 Innis bushaayee fi loon isaanii hunda fudhate; namoonni isaas, "Kun boojuu
Daawit" jechaa fuula horii kaanii dura isaan oofan.

21 Daawit gara namoota dhibba lamaan akka malee dadhabanii isa duukaa bu'uu
hin danda'in kanneen Laga Besoor biratti duubatti hafan sanaa dhufe. Isaanis

Daawitii fi namoota isaa simachuu gad bu'an. Daawitis yeroo namoota sanatti
dhi'aatetti nagaa isaan gaafate. 22 Garuu namoonni hamoonii fi warri rakkina uuman
kanneen duukaa buutota Daawit wajjin turan hundi, "Waan isaan nu wajjin hin
duuliniif nu boojuu deebifanne kana isaan wajjin hin qooddannu. Ta'us tokkoon
tokkoon isaanii niitii fi ijoollee isaanii fudhatanii haa deeman" jedhan.

23 Daawit immoo akkana jedhee deebise; "Lakkisaa, yaa obboloota ko, isin waan
WAAQAYYO nuuf kenne irratti waan akkanaa gochuu hin qabdan. Inni nu eegee
waraana nutti dhufe illee dabarsee harka keenyatti kenneera. 24 Eenyutu waan isin
jettan kana dhaga'a? Qoodni namicha mi'a eeguu, qooda namicha duula dhaqeetiin
tokkuma. Isaan hundi haaluma tokkoon qooddatu." 25 Daawitis gaafasii jalqabee
hamma har'aatti waan kana seeraa fi sirna godhee saba Israa'eliif dhaabe.

26 Daawit yommuu Siiqlaag ga'etti, "Kun kennaa boojuu diinota WAAQAYYOO
keessaa isinii kennamee dha" jedhee maanguddoota Yihuudaa kanneen michoota
isaa turaniif boojuu sana irraa erge.

27 Boojuu sanas warra Beet'eelitti argamaniif, warra Raamoot Negeebii fi Yatiir
turaniif, 28 warra Aro'eer, warra Siifmoot, Eshtimo'aa, 29 warra Raakaal akkasumas
warra magaalaa Yerami'eelotaatii fi magaalaa Qeenotaa keessa jiraataniif, 30 warra
Hormaa, warra Boor Aashaan, warra Ataak, 31 warra Kebroon akkasumas iddoowwan
Daawitii fi namoonni isaa keessa nanaanna'an hunda jiraataniif erge.

# 31

*Saa'ol Of Ajjeesuu Isaa*
*31:1-13 kwf – 2Sm 1:4-12; 1Sn 10:1-12*

1 Filisxeemonni yeroo kanatti Israa'elitti waraana kaasan; Israa'eloonnis isaan
duraa baqatan; hedduun isaaniis Tulluu Gilbo'aa irratti dhuman. 2 Filisxeemonni
ittuma jabeessanii Saa'olii fi ilmaan isaa ari'an; isaanis ilmaan isaa jechuunis
Yoonaataan, Abiinaadaabii fi Malkii-Shuwaa ajjeesan. 3 Lollis naannoo Saa'olitti
baay'ee cime; warri xiyyaan lolanis isa qaqqabanii akka malee isa madeessan.

4 Saa'olis namicha mi'a lolaa isaa baatuun, "Goraadee kee luqqifadhuutii na
waraani; yoo kanaa achii namoonni dhagna hin qabamin kunneen dhufanii na
waraananii natti taphatuu" jedhe.

Namichi mi'a lolaa baatuuf sun garuu waan akka malee sodaateef isa hin
waraanne; kanaafuu Saa'ol goraadee ofii isaa luqqifatee irratti kufe. 5 Namichi mi'a
lolaa baatu sun yommuu akka Saa'ol du'e argetti innis goraadee ofii isaa irratti kufee
Saa'ol wajjin du'e. 6 Kanaafuu Saa'olii fi ilmaan isaa sadan, namichi mi'a lolaa baatuu
fi namoonni isaa hundinuu gaafasuma walumaan dhuman.

7 Israa'eloonni qarqara sululaatii fi gama Yordaanos jiran yommuu akka loltoonni
Israa'el baqatanii fi akka Saa'olii fi ilmaan isaas dhuman arganitti magaalaawwan
isaanii dhiisanii baqatan. Filisxeemonni immoo dhufanii keessa qubatan.

8 Filisxeemonnis guyyaa itti aanutti yommuu warra dhuman irraa hidhannaa
hiikkachuu dhufanitti, akka Saa'olii fi ilmaan isaa sadan Tulluu Gilbo'aa irratti
kukkufanii jiran argan. 9 Isaanis mataa Saa'ol irraa kutanii, mi'a lolaa isa irraa
fudhatanii akka isaan mana waaqota tolfamoo isaanii keessattii fi saba isaaniitiif
oduu kana labsaniif guutummaa biyya Filisxeemotaa keessa ergamoota ergan.
10 Isaanis mi'a lolaa isaa mana Ashtooreti waaqicha tolfamaa keessa kaa'an; reeffa
isaa immoo dallaa Beet Shaanitti hodhan.

11 Namoonni Yaabeesh Gili'aad yommuu waan Filisxeemonni Saa'olin godhan
dhaga'anitti, 12 namoonni jajjaboon isaanii hundi halkaniin ka'anii dhaqanii reeffa
Saa'olii fi reeffa ilmaan isaa dallaa Beet Shaan irraa buusanii gara Yaabeeshitti fidanii

achitti guban. 13 Ergasii lafee isaanii fuudhanii Yaabeeshitti muka tamirii jalatti awwaalan; bultii torbas ni sooman.

# Kitaaba Saamu'eel Lammaffaa

*Daawit Akka Saa'ol Du'e Dhaga'e*
*1:4-12 kwf – 1Sm 31:1-13; 1Sn 10:1-12*

1 Saa'ol erga du'ee booddee, Daawit Amaaleqoota rukutuu irraa deebi'ee Siiqlaag
keessa guyyaa lama ture. 2 Guyyaa sadaffaatti namichi tokko qubata Saa'olii dhufe;
innis wayyaa isaa tarsaasee mataa isaatti awwaara firfirfatee ture. Yommuu Daawit
bira ga'ettis ulfina isaaf kennuuf jedhee addaan lafatti gombifame.
3 Daawitis, "Ati eessaa dhufte?" jedhee isa gaafate.
Namichi immoo, "Ani qubata Israa'elootaa keessaan baqadhee dhufe" jedhe.
4 Daawitis, "Maaltu dhalate? Mee natti himi" jedhee gaafate.
Innis, "Namoonni adda waraanaatii ni baqatan. Baay'een isaanii harca'aniiru;
du'aniirus. Saa'olii fi ilmi isaa Yoonaataanis du'aniiru" jedheen.
5 Kana irratti Daawit dargaggeessa oduu kana fideen, "Akka Saa'olii fi ilmi isaa
Yoonaataan du'an ati akkamitti beekte?" jedhe.
6 Dargaggeessi sunis akkana jedhee deebise; "Akkuma tasaa ani Tulluu Gilbo'aatti
ol ba'een ture; Saa'olis eeboo isaatti irkatee achi ture; gaariiwwan lolaatii fi abbootiin
fardaa isa bira ga'an. 7 Innis yommuu garagalee na argetti na waame; anis, 'Maal siif
ajajamu?' jedhee isa gaafadhe.
8 "Innis, 'Ati eenyu?' jedhee na gaafate.
"Ani immoo, 'Ani nama Amaaleq' jedheen deebise.
9 "Ergasiis inni, 'Narra dhaabadhuu na ajjeesi! Waan lubbuun na keessaa hin
ba'iniif ani akka malee dhiphachaan jiraatii' naan jedhe.
10 "Kanaafuu ani sababiin akka inni erga kufee hin fayyine beekeef isa irra
dhaabadheen isa ajjeese. Gonfoo mataa isaatii fi bitawoo harka isaa fuudhee gooftaa
kootiif fideera."
11 Daawitii fi namoonni isa wajjin turan hundi wayyaa of irraa baasanii tatarsaasan.
12 Isaanis Saa'olii fi Yoonaataaniif, loltoota Waaqayyootii fi mana Israa'el hundaaf
gaddanii ni boo'an; hamma galgalaatti ni sooman; isaan goraadeedhaan dhumani-
iruutii.
13 Daawitis, "Ati eessaa dhufte?" jedhee dargaggeessicha oduu fide sana gaafate.
Innis, "Ani ilma Amaaleq, namicha galtuu ta'e tokkoo ti" jedhee deebise.
14 Daawit immoo, "Yoos ati dibamaa Waaqayyoo tokko galaafachuuf harka kee ol
fudhachuu maaliif hin sodaatin ree?" jedhee gaafate.
15 Ergasii Daawit namoota isaa keessaa tokko waamee, "Dhaqiitii dha'ii isa ajjeesi!"
jedhe. Innis isa dha'e; namichis ni du'e. 16 Daawitis, "Sababii afaanumti kee, 'Ani
nama Waaqayyo isa dibe ajjeeseera' jedhee dhugaa sitti ba'eef dhiigni kee matuma
keetti deebi'a" jedheen.

*Faaruu Daawit Saa'olii fi Yoonaataaniif Faarse*

17 Daawit faaruu kanaan Saa'olii fi ilma Saa'ol Yoonaataaniif boo'e; 18 akkasumas
faaruu iddaa jedhamu kana akka namoonni Yihuudaa barsiisfaman ajaje; kunis
kitaaba Yaashaar keessatti barreeffameera. Innis:
19 "Yaa Israa'el, ulfinni kee gaarran kee irratti ajjeefameera.
Namoonni jajjaboon akkamitti akkas kukkufan!

20 "Waan kana Gaati keessatti hin dubbatinaa;

daandiiwwan Ashqaloon irrattis hin labsinaa;
yoo kanaa achii intallan Filisxeemotaa ni gammadu;
intallan warra dhagna hin qabatiniis ni ililchu.

21 "Yaa tulluuwwan Gilbo'aa,
fixeensi isin irra hin bu'in yookaan bokkaan isinitti hin roobin;
yookaan lafti qotiisaa midhaan aarsaaf dhi'eeffamu
biqilchu isin keessatti hin argamin.
Gaachanni nama jabaa achitti xuraa'eeraatii;
gaachanni Saa'ol si'achi zayitii hin dibamu.

22 "Dhiiga namoota dhumanii keessaa,
foon namoota jajjaboo irraa,
iddaan Yoonaataan duubatti hin deebine;
goraadeen Saa'olis akkasumaan hin deebine.
23 Saa'olii fi Yoonaataan yeroo lubbuun jiraachaa turanitti,
jaallatamoo namni isaanitti gammadu turan;
isaan yeroo du'aattis gargari hin baane.
Isaan risaa caalaa ariifatu,
leenca caalaas jabaatu turan.

24 "Yaa intallan Israa'el,
Saa'ol isa wayyaa bildiimaa fi uffata haphii isinitti uffise,
kan wayyaa keessan warqeedhaan miidhagse,
sanaaf boo'aa.

25 "Namoonni jajjaboon akkamitti waraana keessatti kufu!
Yoonaataan gaarran keessan irratti ajjeefameera.
26 Yaa Yoonaataan obboleessa ko, ani siif gaddeera;
ati anaaf nama akka malee jaallatamaa turte.
Jaalalli ati naaf qabdu dinqisiisaa ture;
jaalala dubartii caalaa dinqisiisaa ture.

27 "Namoonni jajjaboon akkamitti kufan!
Mi'oonni lolaa balleeffamaniiru!"

# 2

*Daawit Dibamee Mootii Yihuudaa Ta'e*

1 Kana booddee Daawit, "Magaalaawwan Yihuudaa keessaa gara isa tokkootti ol
ba'uu?" jedhee WAAQAYYOON gaafate.
WAAQAYYOS, "Ba'i" jedheen.
Daawit immoo, "Gara isa kamiittin ol ba'a?" jedhee gaafate.
WAAQAYYOS, "Gara Kebroonitti" jedhee deebiseef.
2 Kanaafuu Daawit niitota isaa lamaan jechuunis Ahiinoo'am Yizri'eelittii sanaa fi
Abiigayiil kan Naabaal namichi Qarmeloos sun irraa du'e wajjin ol ba'e. 3 Daawit
namoota isa wajjin turan tokkoo tokkoo isaanii maatii isaanii wajjin fudhate;
isaanis magaalaawwan Kebroon keessa qubatan. 4 Ergasiis namoonni Yihuudaa gara
Kebroon dhufanii mana Yihuudaa irratti Daawitin mootii godhanii diban.
Yeroo akka namoonni Yaabeesh Gili'aad Saa'olin awwaalan Daawititti himametti,
5 inni akkana jedhee gara namoota Yaabeesh Gili'aaditti ergamoota erge; "Sababii isin
isa awwaaluudhaan Saa'ol gooftaa keessaniif arjummaa akkasii gootaniif WAAQAYYO

isin haa eebbisu. 6 Ammas WAAQAYYO jaalala isaa kan hin geeddaramnee fi
amanamummaa isaa isiniif haa kennu; ani waan isin akkas gootaniif akkasuma waan
gaarii isiniif nan godha. 7 Egaa amma jabaadhaa; cimaa; Saa’ol gooftaan keessan
du’eeraatii; namoonni Yihuudaa immoo mootii godhatanii of irratti na dibaniiru.”

### *Waraana Mana Daawitii fi Mana Saa’ol Gidduu Ture*
*3:2-5 kwf – 1Sn 3:1-4*

8 Yeroo sanatti Abneer ilmi Neer ajajaan waraanaa Saa’ol Iish-Booshet ilma Saa’ol
fuudhee gara Mahanayiimitti dabarse. 9 Innis Gili’aad, Ashuur, Yizri’eel, Efreemii fi
Beniyaam, akkasumas guutummaa Israa’el irratti isa moosise.
10 Iish-Booshet ilmi Saa’ol yeroo Israa’el irratti mootii ta’etti umuriin isaa waggaa
afurtama ture; innis waggaa lama mo’e. Ta’us manni Yihuudaa Daawit duukaa bu’e.
11 Daawitis Kebroonitti mana Yihuudaa irratti waggaa torbaa fi ji’a ja’a mootii ta’e.
12 Abneer ilmi Neer namoota Iish-Booshet ilma Saa’ol sana wajjin Mahanayiimii
ka’anii gara Gibe’oon dhaqan. 13 Yoo’aab ilmi Zeruuyaa fi namoonni Daawit isaan
simachuuf ba’anii haroo Gibe’oon biratti itti dhufan. Gareen tokko gama tokkoon,
gareen kaan immoo gama kaaniin haroo sana bira tataa’an.
14 Abneeris Yoo’aabiin, “Mee dargaggoonni ka’anii fuula keenya duratti wal haa
tuman” jedhe.
Yoo’aabis, “Haa ta’u; wal haa tuman” jedhe.
15 Kanaafuu Beniyaam irraa namoonni kudha lama Iish-Booshet ilma Saa’oliif,
namoonni kudha lama immoo ka’anii Daawitiif lakkaa’aman. 16 Tokkoon tokkoon
namaas mormituu isaa mataa qabee cinaacha isaatti goraadee diree wal qabatanii
kukkufan. Kanaafuu iddoon sun Gibe’oon keessatti lafa goraadee jedhamee
waamame.
17 Lolli gaafa sanaa akka malee jabaa ture; Abneerii fi namoonni Israa’elis namoota
Daawitiin mo’ataman.
18 Ilmaan Zeruuyaa sadan jechuunis Yoo’aab, Abiishaayii fi Asaaheel achi turan.
Asaaheel akkuma kuruphee bosonaa fiigichatti nama jabaa ture. 19 Innis utuu
mirgatti yookaan bitaatti hin gorin faana bu’ee Abneerin ari’e. 20 Abneeris of irra
garagalee, “Ati Asaaheelii?” jedhee gaafate.
Innis, “Eeyyee anuma” jedhee deebise.
21 Ergasiis Abneer, “Gara mirgaatti yookaan bitaatti garagaliitii dargaggeessa tokko
qabii mi’a lolaa isaa irraa fudhadhu” jedheen. Asaaheel garuu isa ari’uu hin dhiifne.
22 Abneer ammas Asaaheelin, “Na hin ari’in! Ani maaliifan si galaafadha? Ani
akkamittin fuula koo ol fudhadhee obboleessa kee Yoo’aabin ilaala?” jedhe.
23 Asaaheel garuu isa ari’uu hin dhiifne; kanaafuu Abneer qara eeboo isaatiin garaa
isaa waraane; eeboon sunis keessa fulla’ee dugda isaatiin ba’e. Asaaheelis achitti
kufee yommuu suma du’e. Namni hundis iddoo Asaaheel itti kufee du’e sana ga’ee
dhaabata ture.
24 Yoo’aabii fi Abiishaayi garuu Abneerin ari’an; isaanis yeroo aduun dhi’etti gaara
Amaa kan karaa gammoojjii Gibe’oonitti geessu irra Giiyaatti garagalee argamu sana
ga’an. 25 Namoonni Beniyaamis Abneer biratti walitti qabaman. Isaanis gareedhaan
walgurmeessanii gaara Amaa gubbaatti hiriiran.
26 Abneeris iyyee Yoo’aabin waamee, “Goraadeen kun bara baraan waa
galaafachuu qabaa? Akka dhumni waan kanaa hadhaa’aa ta’e ati wallaalteetii? Ati
hamma yoomiitti akka namoonni kee obboloota isaanii ari’uu dhiisan itti hin himtu?”
jedhe.
27 Yoo’aab immoo deebisee, “Dhugaa Waaqa jiraataa, utuu ati waan kana jechuu
baattee silaa namoonni hamma lafti bari’utti obboloota isaanii ari’uu irraa hin
deebi’an ture” jedhe.

28 Kanaafuu Yoo'aab malakata afuufe; namoonni hundis Israa'eloota ari'uu dhiisan; lammatas waraanni isaan gidduutti hin kaane.

29 Abneerii fi namoonni isaa halkan sana guutuu Arabbaa keessa yaa'anii darban. Isaanis Laga Yordaanos ce'anii guutummaa Biitroon keessa darbanii gara Mahanayiim dhufan.

30 Ergasiis Yoo'aab Abneerin ari'uu dhiisee namoota isaa hunda walitti qabe.
Yeroo sanattis akka namoota Daawit keessaa Asaaheelin malee namoonni kudha
sagal badan beekame. 31 Namoonni Daawit garuu namoota Beniyaam keessaa
warra Abneer wajjin turan dhibba sadii fi jaatama ajjeesan. 32 Isaanis reeffa
Asaaheel fudhatanii Beetlihemitti iddoo awwaala abbaa isaatti awwaalan. Yoo'aabii
fi namoonni isaa halkan guutuu deemaa bulanii barii obboroo Kebroon ga'an.

# 3

1 Mana Saa'olii fi mana Daawit gidduu waraana bara dheeraatu ture. Yeroo Daawit jabaachaa deemetti manni Saa'ol immoo dadhabaa deeme.

2 Daawit Kebroonitti ijoollee dhalche; isaanis:

Inni hangafni Amnoon isa Ahiinoo'am Yizri'eelittiin deessee dha;
3 inni lammaffaan Kili'aab ilma Abiigayiil isheen Naabaal namichi biyya Qarmeloos irraa du'e sun deessee dha;
sadaffaan Abesaaloom ilma Ma'akaa kan intalli Talmaayi mooticha Geshuur sun deessee dha;
4 afuraffaan Adooniyaa ilma Hagiit;
shanaffaan Shefaaxiyaa ilma Abiixaal;
5 ja'affaan Yitre'aam ilma Eglaa niitiin Daawit deessee dha.

Isaan kunneen Kebroonitti Daawitiif dhalatan.

### *Abneer Garee Daawit Ta'e*

6 Yeroo mana Saa'olii fi mana Daawit gidduu waraanni turetti Abneer mana Saa'ol
irratti humna isaa jabeeffachaa ture. 7 Saa'olis intala Ayyaa kan Riixiphaa jedhamtu
saajjatoo godhatee ture. Iish-Booshetis Abneeriin, "Ati maaliif saajjatoo abbaa kootii
wajjin rafte?" jedhe.

8 Abneer immoo waan Iish-Booshet akkas jedheef akka malee aaree akkana jedhe;
"Ani mataa saree Yihuudaatii? Ani hamma har'aatti mana abbaa kee Saa'oliif, mana
maatii isaatii fi mana firoota isaatiif amanamaa dha. Si'i illee dabarsee Daawititti
hin kennine. Ati garuu amma waa'ee dubartii kanaatiif na himatta! 9 Yoo ani
akka abdiin Waaqni Daawitiif kenne sun raawwatamu gochuu baadhe WAAQAYYO
Abneer irratti waan hamaa haa godhu; sana caalaa iyyuu isatti haa fidu; 10 wanni
Waaqni kakuudhaan isa abdachiise sunis mana Saa'ol irraa mootummaa fuudhee
Daanii jalqabee hamma Bersheebaatti Israa'elii fi Yihuudaa irratti teessoo Daawit
jabeessee dhaabuu dha." 11 Iish-Booshet waan isa sodaateef Abneeritti waan tokko
illee dubbachuu hin dandeenye.

12 Ergasii Abneer, "Biyyattiin kan eenyuu ti? Na wajjin walii galtee godhadhu; anis akka Israa'el guutumaan guutuutti gara kee goru sin gargaaraa" jedhee Daawititti ergamoota erge.

13 Daawitis, "Gaarii dha; ani si wajjin walii galtee nan godhadha. Garuu waan
tokko sin gaafadha; kunis ati yommuu gara koo dhuftutti jalqabatti Miikaal intala
Saa'ol naa fidi; yoo kanaa achii gara koo hin dhufin" jedhe. 14 Ergasiis Daawit, "Niitii
koo ishee ani misaa Filisxeemota dhibba tokkootiin kaadhimadhe Miikaalin naa ergi"
jedhee Iish-Booshet ilma Saa'olitti ergamoota erge.

15 Kanaafuu Iish-Booshet nama ergee dhirsa ishee Phaltii’eel ilma Laayish irraa
ishee fudhate. 16 Dhirsi ishees hamma magaalaa Bahuuriimitti boo’aa ishee duukaa
bu’e. Abneeris, “Mana keetti deebi’i!” jedheen. Kanaafuu inni ni deebi’e.
17 Abneer maanguddoota Israa’el wajjin mari’atee akkana jedhe; “Isin kanaan
dura akka Daawit mootii keessan ta’u hawwaa turtan. 18 WAAQAYYO, ‘Ani garbicha
koo Daawitiin saba Israa’el harka Filisxeemotaatii akkasumas harka diinota isaanii
hundaa keessaa nan baasa’ jedhee abdachiiseeraatii isin waan kana galmaan ga’aa!”
19 Abneer namoota Beniyaam birattis ni dubbate. Ergasiis Kebroon dhaqee
waan Israa’eloonnii fi manni Beniyaam hundi gochuu barbaadan Daawititti hime.
20 Yommuu Abneer namoota isaa digdama wajjin Kebroon dhufetti, Daawit isaa fi
namoota isaatiif cidha qopheesse. 21 Abneeris Daawitiin, “Ani ka’ee deemee akka
isaan gooftaa koo mootii wajjin kakuu galanii fi akka ati warra garaan kee fedhe
hunda irratti mootii taatuuf Israa’eloota hunda walitti nan qaba” jedhe. Kanaaf
Daawit isa geggeesse; innis nagaadhaan deeme.

### *Yoo’aab Abneerin Ajjeese*

22 Namoonni Daawitii fi Yoo’aab yommuu suma boojuu hedduu fudhatanii duulaa
galan. Abneer garuu Daawit wajjin Kebroon hin turre; Daawit isa geggeessee inni
nagaan deemeeraatii. 23 Yoo’aabii fi loltoonni isa wajjin turan hundi yommuu achi
ga’anitti akka Abneer ilmi Neer mooticha bira dhufee mootichi nagaan isa geggeesse
isatti himame.
24 Kanaafuu Yoo’aab gara mootichaa dhaqee akkana jedhe; “Maali gochuu kee
ti? Kunoo Abneer gara kee dhufee ture. Ati Maaliif isa geggeessite? Inni amma
deemeera! 25 Ati Abneer ilma Neer ni beekta; inni si gowwoomsee sochii keetii fi
waan ati gochaa jirtu hunda basaasuudhaaf dhufe.”
26 Yoo’aabis Daawit biraa ba’ee Abneer duubaan ergamoota erge; isaanis boolla
bishaanii kan Siiraa biraa isa deebisan. Daawit garuu waan kana hin beekne. 27 Yeroo
Abneer Kebroonitti deebi’ettis Yoo’aab waan kophaatti isa wajjin haasa’uu barbaade
fakkeessee gara karraatti isa baase. Achittis haaloo dhiiga obboleessa isaa Asaaheel
baasuuf garaa keessa isa waraane; innis ni du’e.
28 Ergasii Daawit yommuu waan kana dhaga’etti akkana jedhe; “Anii fi mootum-
maan koo bara baraan dhiiga Abneer ilma Neer irraa fuula WAAQAYYOO duratti
qulqulluu dha. 29 Cubbuun dhiiga isaa mataa Yoo’aabii fi mana abbaa isaa hundaa
irra haa ga’u! Namni madaa malaa yaasu yookaan lamxii qabu yookaan namni uleetti
rarra’ee deemu yookaan namni goraadeen ajjeefamu yookaan namni waan nyaatu
dhabu mana Yoo’aabii hin dhabamin.”
30 Sababii inni lola Gibe’oon irratti obboleessa isaanii Asaaheelin ajjeeseef Yoo’aabii
fi obboleessi isaa Abiishaayi Abneerin ajjeesan.
31 Daawitis Yoo’aabii fi namoota isa wajjin turan hundaan, “Uffata keessan
tarsaasaatii uffata gaddaa uffadhaa; fuula Abneer durattis boo’aa” jedhe. Daawit
mootichis reeffa Abneer geggeesse. 32 Isaanis Abneerin Kebroonitti awwaalan;
mootichis awwaala Abneer irratti iyyee boo’e; namoonni hundinuus ni boo’an.
33 Mootichis faaruu gaddaa kana akkana jedhee Abneeriif faarse:
“Abneer akka du’a nama yaraa tokkootti du’uu qabaa?
34 Harki kee hin hidhamne;
miilli kee foncaadhaan hin gaadi’amne.
Ati akkuma nama fuula hamootaa duratti kufu tokkootti kufte.”
Namoonni hundinuu amma illee ni boo’aniif.
35 Gara saafaattis namoonni hundi dhufanii akka inni waa nyaatuuf Daawitin
kadhatan; inni garuu, “Yoo ani hamma biiftuun lixxutti buddeena yookaan waan

biraa afaan kootiin qabe Waaqni waan hamaa natti haa fidu; kana caalaa iyyuu natti haa fidu!” jedhee kakate.
36 Namoonni hundinuu waan kana arganii gammadan; dhugumaan wanni mootichi godhe hundi isaan gammachiise. 37 Kanaafuu gaafa sana namoonni hundii fi Israa’el
hundi akka ajjeefamuu Abneer ilma Neer keessatti mootichi qooda hin qabne beekan.
38 Mootichis namoota isaatiin akkana jedhe; “Isin akka guyyaa har’aa ilmi mootiitii
fi namni guddaan tokko Israa’el keessaa kufe hin beeknee? 39 Ani mootii dibame
ta’u illee har’a nama dadhabaa dha; ilmaan Zeruuyaa kunneen natti jabaataniiru. Waaqayyo nama waan hamaa hojjetuuf akkuma hammina hojii isaatti isaaf haa kennu!”

# 4

*Iish-Booshet Ajjeefame*

1 Iish-Booshet ilmi Saa’ol yommuu akka Abneer Kebroonitti ajjeefame dhaga’etti
humni isaa ni bu’e; Israa’el hundis sodaan guutame. 2 Yeroo sanatti Iish-Booshet ilmi
Saa’ol dura buutota garee duultotaa lama qaba ture. Inni tokko Ba’anaa, kaan immoo Rekaab jedhama ture; isaanis ilmaan Rimoon namicha Bi’eeroot kan gosa Beniyaam
sanaa ti; Bi’eeroot kun akka kutaa Beniyaamitti lakkaa’ama; 3 namoonni Bi’eeroot
kunneen gara Gitayimitti baqatanii hamma har’aatti alagummaan achi jiraatuutii.
4 Yoonaataan ilmi Saa’ol mucaa miilli isaa lachuu naafate tokko qaba ture. Yeroo oduun waa’ee Saa’olii fi Yoonaataan Yizri’eel irraa dhufetti inni nama waggaa shanii ture. Guddiftuun isaas isa fudhattee baqatte; garuu utuu isheen baqachuuf ariifattuu mucichi ishee irraa kufee naafate. Maqaan isaas Mefiibooshet jedhama ture.
5 Rekaabii fi Ba’anaan ilmaan Rimoon namicha gosa Bi’eeroot ka’anii gara mana Iish-Boosheti qajeelan; yeroon isaan itti achi ga’anis guyyaa saafaa yeroo inni itti
aara galfatu ture. 6 Isaanis akka nama qamadii barbaaduutti kutaa manaa isa gara keessaatti ol seenanii garaa isaa waraanan. Ergasiis Rekaabii fi obboleessi isaa Ba’anaan miliqanii ba’an.
7 Isaanis utuu inni kutaa ciisichaa keessa siree isaa irra rafee jiruu ol seenan. Erga garaa isaa waraananii isa ajjeesanii booddees mataa isaa irraa kutan. Mataa sanas
fuudhanii halkan guutuu daandii Arabbaa irra deemaa bulan. 8 Isaanis Kebroonitti
mataa Iish-Booshet gara Daawit mootichaa fidanii, “Kunoo mataa Iish-Booshet ilma diina kee Saa’ol kan ilma namicha si ajjeesuu barbaadu sanaa. Har’a Waaqayyo Saa’olii fi sanyii isaa illee gooftaa koo mootichaaf haaloo baaseera” jedhaniin.
9 Daawit immoo Rekaabii fi obboleessa isaa Ba’anaa, ilmaan Rimoonii namicha gosa Bi’eerootaa sanaan akkana jedhe; “Dhugaa Waaqayyo jiraataa isa rakkina
hunda jalaa na baase sanaa, 10 kunoo ani namicha waan oduu gaarii naa fide se’ee, ‘Saa’ol du’eera’ jedhee natti hime sana qabee Siiqlaagitti ajjeeseera. Egaa wanni ani
namicha oduu sana fide badhaase kana dha! 11 Yoos yeroo namoonni hamooni nama balleessaa hin qabne tokko mana isaa keessatti, siree isaa irratti ajjeesanitti ani dhiiga isaa harka keessan irraa hin barbaaduu ree? Lafa irraas hin balleessuu ree?”
12 Kanaafuu Daawit namoota isaa ajaje; isaanis jara ajjeesan. Harkaa fi miilla isaanii irraa kukkutanii haroo Kebroon biratti reeffa isaanii fannisan. Mataa Iish-Booshet garuu fuudhanii Kebroonitti awwaala Abneer biratti awwaalan.

# 5

*Daawit Israa’el Irratti Mootii Ta’e*
*5:1-3 kwf – 1Sn 11:1-3*

1 Gosoonni Israa’el hundi Kebroonitti Daawit bira dhufanii akkana jedhan; “Nu
foonii fi dhiiga kee ti. 2 Duraan yeroo Saa’ol mootii keenya turetti, namni duula

loltoota Israa'el hoogganu si'i ture. Waaqayyos, 'Situ saba koo Israa'elin tiksa;
bulchaa isaaniis ni taata' siin jedhee ture."

3 Yommuu maanguddoonni Israa'el hundi Kebroonitti Daawit mooticha bira
dhufanitti mootichi Kebroonitti fuula Waaqayyoo duratti isaan wajjin kakuu gale;
isaanis Daawitin dibanii Israa'el irratti mootii isa godhan.

4 Daawit yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa soddoma ture; innis waggaa
afurtama bulche. 5 Kebroon keessatti waggaa torbaa fi ji'a ja'a Yihuudaa irratti mootii
ture; Yerusaalem keessatti immoo waggaa soddomii sadii guutummaa Israa'elii fi
Yihuudaa irratti mootii ta'e.

### *Daawit Yerusaalem Qabachuu Isaa*
*5:6-10 kwf – 1Sn 11:4-9*
*5:11-16 kwf – 1Sn 3:5-9; 14:1-7*

6 Mootichii fi namoonni isaa Yebuusota achi jiraatan loluuf gara Yerusaalemitti ni
qajeelan. Yebuusonnis Daawitiin, "Ati as hin seentu; jaamaa fi naafni iyyuu of irraa
si deebisu" jedhan. Isaan, "Daawit as seenuu hin danda'u" jedhanii yaadan. 7 Ta'us
Daawit da'annoo Xiyoon Magaalaa Daawit ni qabate.

8 Daawitis gaafas, "Namni Yebuusota dha'uuf ba'u kam iyyuu, 'naafotaa fi jaamota'
lubbuu Daawitiin jibbaman bira ga'uuf karaa bo'oo bishaaniitiin darbuu qaba"
jedhe. Sababiin isaan, " 'Jaamonnii fi naafonni' masaraa mootii hin seenan" jedhaniif
kanuma.

9 Daawitis iddoo jireenya isaa da'annoo sana godhatee Magaalaa Daawit jedhee
moggaase. Inni Miiloodhaa jalqabee naannoo ishee marsee ijaare. 10 Innis sababii
Waaqayyo Waaqni Waan Hunda Danda'u isa wajjin tureef yeruma yeroon jabaachaa
dhufe.

11 Yeroo kanatti Hiiraam mootiin Xiiroos ergamoota wajjin muka birbirsaa,
namoota muka soofanii fi warra dhagaa soofan gara Daawit erge; isaanis Daawitiif
masaraa ijaaran. 12 Daawitis akka Waaqayyo saba Israa'el irratti mootii godhee
jabeessee isa dhaabee fi akka saba Israa'eliif jedhee mootummaa isaa guddiseef ni
beeke.

13 Daawitis erga Kebroonii ba'ee booddee saajjatoowwanii fi niitota biraa
Yerusaalem keessatti fuudhe; ilmaanii fi intallan dabalataa dhalataniif. 14 Maqaan
ijoollee isaa kanneen achitti isaaf dhalataniis Shamuu'aa, Shobaab, Naataan,
Solomoon, 15 Yibehaar, Eliishuuwaa, Nefeg, Yaafiiyaa, 16 Eliishaamaa, Eliyaadaa fi
Eliiphelexi jedhamu.

### *Daawit Filisxeemota Mo'achuu Isaa*
*5:17-25 kwf – 1Sn 14:8-17*

17 Filisxeemonni yommuu akka Daawit dibamee Israa'el irratti mootii ta'e
dhaga'anitti, humna guutuudhaan isa barbaacha ol ba'an; Daawit garuu waan kana
dhaga'ee gara da'annoo jabaatti gad bu'e. 18 Yeroo kanatti Filisxeemonni dhufanii
Sulula Refaayim keessa faffaca'an; 19 kanaafuu Daawit, "Ani ba'ee Filisxeemota
dha'uu? Ati dabarsitee harka kootti isaan kennitaa?" jedhee Waaqayyoon gaafate.

Waaqayyos, "Ba'i; ani dhugumaan Filisxeemota dabarsee harka keetti nan
kennaatii" jedhee deebiseef.

20 Kanaafuu Daawit gara Ba'aal Pheraaziim dhaqe; achittis isaan mo'ate. Innis,
"Akkuma bishaan mana isaa cabsee yaa'u sana Waaqayyo fuula koo duratti diinota
koo cabsee ba'eera" jedhe. Kanaafuu iddoon sun Ba'aal Pheraaziim jedhamee
waamame. 21 Filisxeemonni waaqota isaanii tolfamoo achitti dhiisanii baqatan;
Daawitii fi namoonni isaa immoo isaan fuudhanii deeman.

22 Filisxeemonni amma illee dhufanii Sulula Refaayim keessa faffaca’an;
23 kanaafuu Daawit Waaqayyoon gaafate; Waaqayyos akkana jedheen; “Kallatti-
idhaan itti hin ba’in; garuu duubaan isaan marsiitii muka qilxuu duratti isaan
waraani. 24 Akkuma fiixee muka qilxuu irraan sagalee duulaa dhageesseen dafiitii
ba’i; Waaqayyo loltoota Filisxeem dha’uudhaaf si dura ba’eera jechuudhaatii.”
25 Kanaafuu Daawit akkuma Waaqayyo isa ajaje sana Gibe’oon jalqabee hamma
Geeziritti Filisxeemota dha’e.

# 6

*Taabonni Gara Yerusaalemitti Fidamuu Isaa*
*6:1-11 kwf – 1Sn 13:1-14*
*6:12-19 kwf – 1Sn 15:25–16:3*

1 Daawit ammas namoota Israa’el keessaa filataman kuma soddoma walitti qabate.
2 Innii fi namoonni isa wajjin turan hundi taabota Waaqaa kan Maqaa, maqaa
Waaqayyoo Waan Hunda Danda’uu kan taabota gubbaa, kiirubeelii teessoo irra
jiran gidduu jiru sanaatiin waamamu sana achii fiduuf gara Ba’aalaa ishee Yihuudaa
keessaa sanaa ni dhaqan. 3 Isaanis taabota Waaqaa gaarii haaraa irra kaa’anii mana
Abiinaadaab kan gaara irra jiru sanaa baasanii fidan. Ilmaan Abiinaadaabii, Uzaa fi
Ahiiyoon gaarii haaraa sana oofaa turan; 4 taabonni Waaqaas gaarii irra kaa’amee
Ahiiyoon dura dura deema ture. 5 Daawitii fi Israa’el hundinuu humna isaanii guutu-
udhaan faarfannaadhaan, masiinqoodhaan, baganaadhaan, dibbeedhaan, bilbilaan,
Kililleedhaanis fuula Waaqayyoo duratti gammadanii shuubbisaa turan.

6 Yommuu isaan oobdii Naakoon bira ga’anitti waan sangoonni gufataniif Uzaan
harka isaa hiixatee taabota Waaqaa qabe. 7 Sababii hojii isaa kan ulfina hin qabneetiif
dheekkamsi Waaqayyoo Uzaatti boba’e; kanaafuu Waaqni isa rukute; innis achumatti
taabota Waaqaa biratti du’e.

8 Daawitis sababii Waaqayyo akka malee Uzaatti dheekkameef ni aare; iddoon sun
hamma har’aatti Phereez Uzaa jedhamee waamama.

9 Daawitis gaafa sana Waaqayyoon sodaatee, “Taabonni Waaqayyoo akkamitti
gara koo dhufa?” jedhe. 10 Innis akka taabonni Waaqayyoo isa wajjin Magaalaa
Daawit keessa jiraatuuf ofitti fudhachuu hin barbaanne. Qooda kanaa gara mana
Oobeed Edoom namicha Gitii sanaatti geesse. 11 Taabonni Waaqayyoos ji’a sadii mana
namicha Gitii kan Oobeed Edoom jedhamu sanaa ture; Waaqayyos isaa fi warra mana
isaa jiraatan hunda ni eebbise.

12 Yeroo kanatti, “Waaqayyo sababii taabota Waaqaatiif jedhee warra mana Oobeed
Edoom jiraatanii fi waan inni qabu hunda ni eebbise” jedhanii Daawit Mootichatti
himan. Kanaafuu Daawit gad bu’ee taabota Waaqaa sana mana Abiidaaraatii
gammachuudhaan gara Magaalaa Daawititti fide. 13 Innis akkuma namoonni taabota
Waaqayyoo baatan sun tarkaanfii ja’a achi hiiqaniin sangaa tokkoo fi jabbii coomaa
tokko aarsaa dhi’eesse. 14 Daawitis Dirata quncee talbaa irraa hojjetame uffatee
qondaaltota isaa wajjin fuula Waaqayyoo duratti humna isaa guutuun shuubbisa
ture; 15 innii fi Israa’el hundi “hoo” jechaa sagalee malakataatiin taabota Waaqayyoo
fidan.

16 Yeroo taabonni Waaqayyoo Magaalaa Daawit seenutti Miikaal intalli Saa’ol
foddaa keessaan ilaalaa turte. Isheenis akka Daawit Mootichi fuula Waaqayyoo
duratti utaalee shuubbisu yommuu argitetti garaa ishee keessatti isa tuffatte.

17 Isaanis taabota Waaqayyoo fidanii dunkaana Daawit dhaabeef keessa ni kaa’an;
Daawitis aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa fuula Waaqayyoo duratti dhi’eesse. 18 Innis
erga aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa dhi’eessee booddee maqaa Waaqayyoo Waan
Hunda Danda’uutiin namoota ni eebbise. 19 Ergasiis inni tokkoo tokkoo nama tuuta

Israa'elootaa guutuu keessa jiruutiif jechuunis dhiirotaafis dubartootaafis buddeena
tokko tokko, gumaa foonii tokko tokkoo fi bixxillee ija wayinii tokko tokko ni kenne.
Namoonni hundinuus gara mana mana isaanii deeman.

20 Yommuu Daawit maatii ofii isaa eebbisuuf deebi'ettis Miikaal intalli Saa'ol isa
simachuuf baatee, "Har'a mootiin Israa'el akka nama gatii hin qabne tokkootti fuula
xomboreewwan hojjettoota isaa duratti qullaa argamuun isaa ulfina ta'eeti moo!"
jette.

21 Daawit immoo Miikaaliin akkana jedhe; "Ani fuula WAAQAYYO isa abbaa keetii
fi warra mana isaa jiran caalchisee na filatee saba WAAQAYYOO, Israa'el irratti na
muude sanaaf fuula WAAQAYYOO duratti nan shuubbisa. 22 Ani kana caalaa iyyuu
ofin xinneessa; ija kee durattis of nan salphisa. Xomboreewwan ati jette kanneeniin
garuu nan kabajama."

23 Miikaal intalli Saa'ol utuu ijoollee hin argatin duute.

# 7

### *Abdii Waaqayyo Daawitiif Kenne*
### *7:1-17 kwf – 1Sn 17:1-15*

1 Mootichi erga masaraa isaa keessa jiraachuu jalqabee WAAQAYYO diinota isaa
kanneen naannoo isaa jiran hunda jalaa isa boqochiisee booddee, 2 Naataan
raajichaan, "Ani kunoo mana birbirsaan ijaarame keessan jiraadha; taabonni
Waaqaa garuu dunkaana keessa jiraata" jedhe.

3 Naataan immoo mootichaan, "WAAQAYYO si wajjin jiraatii waan garaa keetti
yaadde kam iyyuu godhi" jedhe.

4 Halkan sana garuu dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Naataan dhufe:

5 "Dhaqiitii akkana jedhii garbicha koo Daawititti himi; 'WAAQAYYO akkana jedha:
Kan mana ani keessa jiraadhu naaf ijaaru si'ii? 6 Ani gaafan Israa'eloota Gibxii
baasee jalqabee hamma har'aatti mana keessa hin jiraanne. Ani iddoo jireenya
koo dunkaana godhadhee iddoo tokkoo gara iddoo biraa naanna'aan ture. 7 Ani
iddoon Israa'eloota hunda wajjin naanna'aa ture kamitti iyyuu bulchitoota akka
isaan saba koo Israa'elin eeganiif ajaje keessaa nama tokkoon iyyuu, "Isin maaliif
mana birbirsaa naaf hin ijaarre?" jedhee beekaa?'

8 "Egaa amma akkana jedhii garbicha koo Daawititti himi; 'WAAQAYYOON Waan
Hunda Danda'u akkana jedha: Ani akka ati bulchaa saba koo Israa'el taatuuf lafa
tikaatii fi bushaayee faana deemuu keessaan si fudhadhe. 9 Ani lafa ati dhaqxe
hundatti si wajjinin ture; diinota kee hundas fuula kee duraa balleesseera. Ammas
ani maqaa kee akkuma maqaa namoota addunyaa irratti akka malee gurguddaa
ta'anii guddaa nan godha. 10 Ani akka isaan mana ofii isaanii qabaatanii fi si'achi
hin raafamneef saba koo Israa'eliif lafa kennee isaan nan dhaaba. Namoonni
hamoon akka jalqabatti godhan sana deebi'anii isaan hin cunqursan; 11 isaan
si'achi waan gaafa ani saba koo Israa'el irratti abbootii murtii muudee as godhan
sana illee hin godhan. Ani diinota kee hunda jalaas sin boqochiisa.

" 'Akka WAAQAYYO mataan isaa mana siif ijaaru WAAQAYYO sittin hima; 12 yommuu
barri jireenya keetii dhumee ati abbootii kee wajjin boqottutti ani akka inni
iddoo kee bu'uuf sanyii kee kan gudeeda keetii ba'u nan kaasa; mootummaa isaa
illee jabeessee nan dhaaba. 13 Kan maqaa kootiif mana ijaaru isa; anis teessoo
mootummaa isaa bara baraan jabeessee nan dhaaba. 14 Ani isaaf abbaa nan ta'a;
innis ilma naa ta'a. Yommuu inni balleessaa hojjetuttis ulee namootaatiin isa nan
adaba; alangee ilmaan namaa ittiin garafamaniinis nan garafa. 15 Jaalalli koo garuu
akka jaalala ani Saa'ol isa ani fuula kee duraa balleesse sana irraa fudhadhe isa

irraa hin fudhatamu. 16 Mannii fi mootummaan kee bara baraan fuula koo dura ni
jiraata; teessoon kees bara baraan jabaatee ni dhaabata.' "
17 Naataanis dubbii mul'ata kanaa hunda Daawititti hime.

*Daawit Waaqa Kadhachuu Isaa*
*7:18-29 kwf – 1Sn 17:16-27*

18 Ergasii Daawit mootichi ol seenee fuula WAAQAYYOO dura taa'ee akkana jedhe:
"Yaa WAAQAYYO Gooftaa, kan ati asiin na geesse ani eenyu? Maatiin koos maali?
19 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, akka waan wanni kun fuula kee duratti ga'aa hin ta'iniitti
ati waa'ee mana garbicha keetii kan fuul duratti ta'us dubbatte. Yaa WAAQAYYO
Gooftaa, edaa walitti dhufeenyi ati namoota wajjin qabdu kanaa?
20 "Daawit kana caalaa maal jechuu danda'a? Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati
garbicha kee ni beektaatii. 21 Ati sababii dubbii keetiitii fi akkuma fedhii keetiitti
waan guddaa kana hojjettee akka garbichi kee beeku goote.
22 "Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati akkam guddaa dha! Kan akka keetii tokko iyyuu
hin jiru; akka nu gurruma keenyaan dhageenyetti si malee Waaqni biraa hin jiru.
23 Sabni akka saba kee Israa'el, kan Waaqni akka inni saba isaa ta'uuf maqaa ofii
isaa dhaabbachuuf jedhee isa furuuf saboota ormaatii fi waaqota isaanii illee fuula
isaa duraa ari'uudhaan dinqiiwwan gurguddaa fi sodaachisaa argisiisuudhaan
ba'ee biyya Gibxii furee baase kan biraa lafa irraa kamii dha? 24 Ati saba kee
Israa'elin kan ofii keetii gootee bara baraan dhaabdeerta; yaa WAAQAYYO ati Waaqa
isaanii taateerta.
25 "Ammas yaa WAAQAYYO, yaa Waaqi, ati waadaa garbicha keetii fi mana isaatiif
galte sana bara baraan eegi. Kanas akkuma waadaa galte sana raawwadhu; 26 kunis
akka maqaan kee bara baraan guddaa ta'uuf. Kana irratti namoonni, 'WAAQAYYOON
Waan Hunda Danda'u Israa'el irratti Waaqa!' ni jedhu. Manni garbicha kee
Daawitis fuula kee duratti jabaatee ni dhaabata.
27 "Yaa WAAQAYYO Waan Hunda Dandeessu, Waaqa Israa'el ati, 'Ani mana siif
nan ijaara' jettee garbicha keetti waan kana mul'ifteerta; kanaafuu garbichi kee
kadhannaa kana sitti dhi'eessuuf ija jabina argateera. 28 Yaa WAAQAYYO Gooftaa,
ati Waaqa! Dubbiin kee amanamaa dha; atis waan gaarii kana garbicha keetiif
waadaa galteerta. 29 Akka manni isaa bara baraan jabaattee fuula kee dura
dhaabatuuf ammas mana garbicha keetii eebbisuun fedhii kee haa ta'u; yaa
WAAQAYYO Gooftaa, ati dubbatteertaatii; eebba keetiinis manni garbicha keetii bara
baraan ni eebbifama."

# 8

*Mo'annoowwan Daawit*
*8:1-14 kwf – 1Sn 18:1-13*

1 Ergasii Daawit Filisxeemota mo'atee of jala isaan galfate; magaalaa Meeteeg Amaa
jedhamtus harka Filisxeemotaatii baasee fudhate.
2 Daawit Mo'aabotas ni mo'ate. Lafa irra tarree ciibsees funyoon isaan safare.
Kanneen tarree galan keessaas funyoo lama lama safaree ajjeese; kanneen funyoo
tokko tokko safare immoo akka isaan jiraatan eeyyameef. Kanaafuu Mo'aabonni
Daawit jalatti bulanii gibira fidaniif.
3 Kana irrattis Daawit yeroo Laga Efraaxiis bira yaadannoo ofii deebisee dhaab-
bachuu dhaqetti mooticha Zoobaa, Hadaadezer ilma Rehoob mo'ate. 4 Daawitis
gaariiwwan waraanaa isaa kuma tokko, abbootii fardaa kuma torbaa fi loltoota lafoo
kuma digdama isa irraa fudhate. Innis fardeen gaariiwwanii dhibba tokko qofa
hambisee kanneen hafan hunda mogolee kukkute.

5 Yeroo warri Sooriyaa kanneen Damaasqoo jiraatan Hadaadezer mooticha Zoobaa
gargaaruuf dhufanittis Daawit isaan keessaa nama kuma digdamii lama fixe.
6 Ergasiis kutaa bulchiinsa Damaasqoo kan biyya Sooriyaa keessa qubata loltootaa
dhaabbate. Warri Sooriyaas isa jalatti bulanii gibira fidaniif. WAAQAYYOS Daawitiif
lafa inni dhaqe hundatti moo’icha kenne.

7 Daawitis gaachana warqee kan ajajjoonni loltoota Hadaadezer qabatan fudhatee
gara Yerusaalem fide. 8 Daawit Mootichi magaalaawwan Hadaadezer jechuunis
Bexaatii fi Beerootaay keessaa sibiila naasii akka malee baay’ee fudhate.

9 Too’iin mootiin Hamaati yommuu akka Daawit guutummaa loltoota Hadaadezer
mo’ate dhaga’etti, 10 akka inni sababii mo’annaa Daawit Mootichi Too’iin wal lolaa
ture sun waraana keessatti Hadaadezer irratti argateetiif harka isa fuudhee dhaamsa
gammachuu isaaf dabarsuuf ilma ofii isaa Yooraamin gara isaatti erge. Yooraamis
kennaawwan meetii irraa, warqee fi naasii irraa hojjetaman fide.

11 Daawit Mootichis akkuma meetii fi warqee saboota biraa kanneen of jala galfatu
hunda irraa booji’ee ture godhe sana mi’oota kanneen illee WAAQAYYOOF addaan
baase. 12 Warri inni of jala galfates Edoom, Mo’aab, Amoonota, Filisxeemotaa fi
Amaaleq turan. Boojuu Hadaadezer ilma Rehoob mooticha Zoobaa irraa booji’es
akkasuma addaan baase.

13 Daawitis erga Sulula Soogiddaa keessatti Edoomota kuma kudha saddeet fixee
deebi’ee booddee beekamaa ta’e.

14 Innis guutummaa Edoom keessa qubata loltootaa dhaabbate; Edoomonni
hundinuus Daawitiif ni garbooman. WAAQAYYOS lafa inni dhaqe hundatti Daawitiif
mo’annaa ni kenne.

### *Qondaaltota Daawit*
*8:15-18 kwf – 1Sn 18:14-17*

15 Daawit guutummaa Israa’el irratti mootii ta’ee saba isaa hundaaf murtii qajeelaa
fi qajeelummaadhaan hojjete. 16 Yoo’aab ilmi Zeruuyaa hoogganaa loltootaa ture;
Yehooshaafaax ilmi Ahiiluud immoo galmeessaa ture. 17 Akkasumas Zaadoq ilmi
Ahiixuubii fi Abiimelek ilmi Abiyaataar luboota turan; Seraayaan immoo barreessaa
ture. 18 Benaayaa ilmi Yehooyaadaa hoogganaa Kereetotaa fi Pheletotaa ture; ilmaan
Daawit immoo luboota turan.

## 9

### *Daawitii fi Mefiiboostee*

1 Daawitis, “Akka ani Yoonaataaniif jedhee arjummaa isaaf godhu namni maatii
Saa’ol keessaa hafe amma jiraa?” jedhee gaafate.

2 Yeroo sanatti namicha Ziibaa jedhamu tajaajilaa mana Saa’ol tokkotu ture.
Innis akka fuula Daawit duratti dhi’aatuuf waamame; mootichis, “Ati Ziibaadhaa?”
jedheen.

Innis, “Eeyyee, ana garbicha kee ti” jedhe.

3 Mootichis, “Akka ani arjummaa Waaqaa isaaf godhuuf namni maatii Saa’ol
keessaa hafe tokko iyyuu hin jiruu?” jedhee gaafate.

Ziibaa, “Ilmi Yoonaataan tokko jira; miilli isaa lachuus naafa” jedhee mootichaaf
deebise.

4 Mootichis, “Inni eessa jira?” jedhee gaafate.

Ziibaan deebisee, “Inni iddoo Lodebaar jedhamu mana Maakiir ilma Amii’eel jira”
jedhe.

5 Kanaafuu Daawit mootichi nama ergee Lodebaar mana Maakiir ilma Amii’eeliitii
isa fichisiise.

6 Mefiibooshet ilmi Yoonaataan, ilmi Saa’ol yeroo Daawit bira dhufetti ulfina isaaf
kennuuf gad jedhe sagadeef.
Daawit immoo, “Mefiiboostee!” jedheen.
Innis, “Garbichi kee kunoo ti” jedhee deebiseef.
7 Daawitis, “Ani abbaa kee Yoonaataaniif jedhee arjummaa siifin godhaatii hin
sodaatin. Ani lafa akaakayyuu keetii, lafa Saa’ol hunda siifin deebisa; atis yeroo
hunda maaddii koo irraa nyaatta” jedheen.
8 Mefiibooshetis harka fuudhee, “Ana garbicha kee nama akka saree du’eetti
ilaalamuuf waan kana gochuun kee maaliif?” jedheen.
9 Mootichis Ziibaa garbicha Saa’ol ofitti waamee akkana jedheen; “Ani ilma ilma
gooftaa keetiitiif, waan kan Saa’olii fi kan maatii isaa ta’e hunda kenneera. 10 Ati,
Ilmaan keetii fi tajaajiltoonni kee akka ilmi ilma gooftaa keetii waan nyaatu argatuuf
lafa isaaf qotuu qabdu. Mefiibooshet ilmi ilma gooftaa keetiis yeroo hunda maaddii
koo irraa nyaata.” Ziibaan ilmaan kudha shanii fi tajaajiltoota digdama qaba ture.
11 Ziibaanis mootichaan, “Ani garbichi kee waan gooftaan koo mootichi akka ani
hojjedhuuf na ajaju hunda nan godha” jedhe. Kanaafuu Mefiibooshet akkuma ilmaan
mootii keessaa nama tokkootti maaddii Daawit irraa nyaata ture.
12 Mefiibooshet ilma dargaggeessa Miikaa jedhamu tokko qaba ture; warri mana
Ziibaa jiraatan hundi hojjettoota Mefiiboostee turan. 13 Mefiibooshetis sababii yeroo
hunda maaddii mootii irraa nyaachaa tureef Yerusaalem keessa jiraata ture; miilli
isaa lachuu naafa ture.

# 10

### *Daawit Amoonota Mo’achuu Isaa*
*10:1-19 kwf – 1Sn 19:1-19*

1 Ergasiis mootiin Amoonotaa ni du’e; ilmi isaa Haanuunis iddoo isaa bu’ee
mootii ta’e. 2 Daawitis, “Akkuma abbaan isaa naa arjoome sana anis Haanuun ilma
Naahaashiif nan arjooma” jedhee yaade. Kanaafuu Daawit gadda waa’ee abbaa
isaatiif itti dhaga’ame isaa ibsuuf Haanuunitti ergamoota ni erge.
Yommuu namoonni Daawit gara biyya Amoonotaa dhaqanitti, 3 qondaaltonni
Amoonotaa Haanuun gooftaa isaaniitiin, “Ati sababii Daawit akka isaan dhaamsa
gaddaa sitti himaniif namoota sitti ergeef inni waan abbaa keetiif ulfina kenne seetaa?
Daawit akka isaan magaalattii qoratanii, basaasanii fi qabataniif gara kee isaan
erge mitii?” jedhan. 4 Kanaafuu Haanuun namoota Daawit sana qaqqabee tokkoo
tokkoo isaanii irraa hareeda gama tokkoo haadee wayyaa isaanii illee teessuma irratti
cicciree of irraa isaan erge.
5 Daawit yommuu wanni kun isatti himametti sababii isaan akka malee qaana’aniif
namoota sanatti ergamoota erge. Mootichis, “Isin hamma areedni keessan isinii
guddatutti Yerikoo turaatii ergasii deebi’aa kottaa” jedheen.
6 Amoononni yommuu akka Daawit isaan xireeffate hubatanitti, Beet Rehoobii fi
Suubaadhaa loltoota lafoo kan Sooriyaa kuma digdama, mootii Ma’akaa namoota
kuma tokko wajjin akkasumas Xoob irraa namoota kuma kudha lama qaxaratan.
7 Daawit yommuu waan kana dhaga’etti Yoo’aabii fi guutummaa loltootaa ni
erge. 8 Amoononni immoo ba’anii karra magaalaa sanaa irratti waraanaaf hiriiran;
namoonni Sooriyaa warri Suubaa fi Rehoob, akkasumas namoonni Xoobiitii fi
Ma’akaa immoo kophaa isaanii dirree irra turan.
9 Yoo’aabis akka fuula isaa duraa fi dugda isaa duubaan waraanni jiru ni arge;
kanaafuu loltoota Israa’el keessaa namoota bebeekamoo filatee adda loltoonni
Sooriyaa jiranitti bobbaase. 10 Namoota hafan immoo ajaja obboleessa isaa Abiishaayi
jalatti hiriirsee Amoonotatti isaan duulchise. 11 Yoo’aabis akkana jedhe; “Yoo warri

Sooriyaa natti jabaatan ati dhuftee na gargaarta; yoo Amoononni sitti jabaatan
immoo ani dhufee sin gargaara. 12 Jabaadhu; saba keenyaa fi magaalaawwan Waaqa
keenyaatiif garaa kutannaadhaan haa lollu. WAAQAYYOS waan fuula isaa duratti gaarii
ta’e ni godha.”
13 Ergasii Yoo’aabii fi loltoonni isa wajjin turan warra Sooriyaa waraanuuf fuul
duratti ni qajeelan; jarris fuula isaa duraa baqatan. 14 Amoononni yommuu akka
namoonni Sooriyaa baqatan arganitti isaanis Abiishaayi duraa baqatanii magaalaa
seenan. Akkasiin Yoo’aab Amoonota waraanuu dhiisee Yerusaalemitti deebi’e.
15 Namoonni Sooriyaa yommuu akka Israa’eloonni isaan mo’atan arganitti
lammata walitti qabaman. 16 Hadaadezeris ergamoota ergee namoota Sooriyaa
kanneen Laga Efraaxiisiitiin gamaa fichisiise; isaanis hoogganummaa ajajaa waraana
Hadaadezer kan Shoobak jedhamuun gara Heelaam deeman.
17 Daawitis yommuu wanni kun isatti himametti, Israa’eloota hunda walitti qabatee
Yordaanos ce’ee Heelaam dhaqe. Warri Sooriyaas waraanaaf Daawititti hiriiranii isa
lolan. 18 Isaan garuu Israa’eloota duraa baqatan; Daawitis namoota gaarii waraanaa
oofan dhibba torbaa fi loltoota lafoo kuma afurtama fixe. Ajajaa loltoota isaanii
Shoobak illee madeesse; innis achumatti du’e. 19 Mootonni Hadaadezerin tajaajilaa
turan hundi yommuu akka Israa’elootaan mo’ataman arganitti, Israa’eloota wajjin
nagaa uumanii isa jalatti bulan.
Kanaafuu namoonni Sooriyaa ergasii Amoonota gargaaruu sodaatan.

# 11

*Daawitii fi Batisheebaa*

1 Birraa keessa yeroo mootonni waraanaaf ba’anitti, Daawit tajaajiltoota isaatii
fi loltoota Israa’el hunda wajjin Yoo’aabin erge. Isaanis Amoonota barbadeessanii
magaalaa Rabbaa jedhamtu marsan. Daawit garuu Yerusaalemitti hafe.
2 Gaaf tokko galgala Daawit siree isaa irraa ka’ee bantii masaraa mootummaa irra
asii fi achi deddeebi’aa ture. Innis bantii gubbaa dhaabatee dubartii dhagna ishee
dhiqattu tokko arge. Dubartiin sun baay’ee bareedduu turte; 3 Daawitis waa’ee ishee
beekuuf nama itti erge. Namichi sunis, “Isheen Batisheebaa intala Eli’aam, niitii
Uuriyaa namicha gosa Heet sanaatii mitii?” jedhe. 4 Daawitis nama itti ergee ishee
fichisiise. Isheenis gara isaa dhufte; innis ishee wajjin ciise. Isheen xuraa’ummaa
ishee irraa qulqullooftee turte. Ergasii gara mana isheetti deebite. 5 Dubartiin sun
ulfooftee, “Ani ulfaa’eera” jettee Daawititti ergaa ergite.
6 Kanaafuu Daawit, “Uuriyaa namicha gosa Heet sana naa ergi” jedhee Yoo’aabitti
dhaamsa erge. Yoo’aabis gara Daawititti isa erge. 7 Daawitis yommuu Uuriyaan gara
isaa dhufetti waa’ee Yoo’aab, waa’ee loltootaatii fi haala waraanni keessa jiru isa
gaafate. 8 Ergasii immoo Daawit Uuriyaan, “Gara mana keetiitti gad bu’iitii miilla
kee dhiqadhu” jedhe. Kanaafuu Uuriyaan masaraa mootiitii ba’ee deeme; kennaan
mootichaas isa faana ergame. 9 Uuriyaan garuu tajaajiltoota gooftaa isaa hunda
wajjin karra masaraa mootii dura ciise malee gara mana ofii isaatti gad hin buune.
10 Daawitis yommuu akka Uuriyaan gara mana isaa hin deemin itti himametti, “Ati
reefuu karaadhaa dhufte mitii? Maaliif gara mana keetii hin deemne?” jedhee isa
gaafate.
11 Uuriyaan immoo Daawitiin, “Taabonnii fi Israa’el, Yihuudaanis dunkaana keessa
jiru; gooftaan koo Yoo’aabii fi namoonni gooftaa koo dirree irra bulu. Egaa ani
akkamitti nyaachuu fi dhuguuf, niitii koo wajjinis rafuuf jedhee gara mana koo
deema? Du’a kee ti; ani waan akkasii hin godhu!”
12 Daawit, “Ati har’as as buliitii ani bor sin geggeessaa” jedheen. Kanaafuu
Uuriyaan gaafa sanaa fi guyyaa itti aanu Yerusaalem keessa ture. 13 Daawitis isa

affeere; innis fuula isaa duratti nyaatee dhuge; Daawitis isa macheesse. Uuriyaan
garuu halkan sana afata isaa irra tajaajiltoota gooftaa isaa gidduu ciisuuf gad ba'e
malee gara mana ofii isaa hin deemne.
14 Daawitis lafti bariinaan xalayaa barreessee harkuma Uuriyaatiin Yoo'aabitti erge.
15 Xalayicha keessattis, "Iddoo waraanni itti cimetti Uuriyaa ramadi. Akka inni achitti
dha'amee du'uufis isa dhiisaa duubatti deebi'aa" jedhee barreesse.
16 Kanaafuu Yoo'aab utuu magaalattii marsaa jiruu iddoo akka loltoonni ciccimoon
jiran beeketti Uuriyaa ramade. 17 Yommuu namoonni magaalaa sanaa itti gad ba'anii
Yoo'aabin lolanitti, loltoota Daawit keessaa namoonni tokko tokko du'an; Uuriyaan
namichi gosa Heet sunis ni ajjeefame.
18 Yoo'aabis guutummaa oduu waa'ee lola sanaa Daawitiif erge. 19 Akkana jedhees
ergamaa sana ajaje; "Yommuu ati waa'ee waraana kanaa mootichatti himtee fixxutti,
20 aariin mootichaa ni boba'a; innis akkana jedhee si gaafachuu danda'a; 'Isin
maaliif loluuf akkas magaalaa sanatti dhi'aattan? Isin akka isaan dallaa irraa xiyya
isinitti darbatan hin beeknee? 21 Eenyutu Abiimelek ilma Yirubesheet sana ajjeese?
Dubartiin tokko dallaa irraa majii dhagaa daakuu itti gad dhiiftee Tebeesitti isa hin
ajjeefnee? Isin maaliif akkas dallaa sanatti dhi'aattan?' Yoo inni waan kana si gaafate,
'Tajaajilaan kee Uuriyaan namichi gosa Heet sunis du'eera' jedhii itti himi."
22 Ergamaan sunis ka'ee deemee yommuu achi ga'etti waan Yoo'aab akka inni
itti himu isa ajaje hunda Daawititti hime. 23 Ergamaan sun Daawitiin akkana
jedhe; "Namoonni nutti jabaatanii dirreetti gad nutti ba'an; nus ariinee gara
karra magaalattiitti isaan deebifne. 24 Ergasiis warri xiyya darbatan dallaa irraa
tajaajiltoota keetti darbatan; namoonni mootii tokko tokkos ni du'an. Tajaajilaan
kee Uuriyaan namichi Heet sunis ni du'e."
25 Daawitis ergamaa sanaan, "Egaa akkana jedhii Yoo'aabitti himi; 'Wanni kun abdii
si hin kutachiisin; goraadeen yeroo tokko isa tokko, yeroo kaan immoo kan biraa
nyaata. Cimsii magaalattii dha'iitii balleessi.' Waan kanas Yoo'aabin jajjabeessuuf
jedhi" jedhe.
26 Niitiin Uuriyaa yommuu akka dhirsi ishee du'e dhageessetti ni boosseef. 27 Erga
yeroon boo'ichaa darbee booddee Daawit mana ofii isaatti ishee fudhate; isheenis
niitii isaa taatee ilma deesseef. Garuu wanni Daawit hojjete sun WAAQAYYO hin
gammachiisne.

# 12

*Naataan Daawitin Ifate*
*11:1; 12:29-31 kwf – 1Sn 20:1-3*

1 WAAQAYYOS Naataanin gara Daawititti erge. Innis gara Daawit dhufee akkana
jedhe; "Namoota lamatu magaalaa tokko keessa jiraata ture; inni tokko sooressa, kaan
immoo hiyyeessa ture. 2 Namichi sooressi sun hoolotaa fi loon akka malee baay'ee
qaba ture; 3 namichi hiyyeessi sun garuu goromtii hoolaa kan bitate xinnoo tokko
malee homaa hin qabu ture; innis goromtii hoolaa sana ni kunuunse; hoolaan sunis
isaa fi ijoollee isaa biratti guddatte. Isheen nyaata isaa irraa nyaachaa, dhugaatii isaa
irraa dhugaa, bobaa isaa jala ciisaa turte. Goromtiin hoolaa kun isaaf akkuma intala
isaa turte.
4 "Gaaf tokko keessummaan tokko mana namicha sooressa sanaa dhufe; namichi
sooressi sunis hoolota yookaan loon ofii isaa keessaa tokko fuudhee keessummichaaf
nyaata qopheessuu mararsiifate. Qooda kanaa ilmoo hoolaa namicha hiyyeessa
sanaa fuudhee keessummaa mana isaa dhufe sanaaf qopheesse."
5 Daawitis namicha sanatti akka malee aaree Naataaniin akkana jedhe; "Dhugaa
WAAQAYYO jiraataa, namichi waan kana godhe sun du'uu qaba! 6 Namichi sun

qooda hoolaa sanaa harka afur baasuu qaba; inni gara laafina malee waan kana godheeraatii.”

7 Naataanis Daawitiin akkana jedhe; “Namichi sun suma! WAAQAYYO Waaqni
Israa’el akkana jedha: ‘Ani Israa’el irratti mootii godhee si dibeera; harka Saa’ol
jalaas si baaseera. 8 Ani mana gooftaa keetii siif kenneera; niitota gooftaa keetii illee
bobaa keetti siif kenneera. Ani mana Israa’elii fi mana Yihuudaa siif kenneera. Utuu
kunneen hundi sitti xinnaatanii silaa kana caalaa iyyuu siifin kenna ture. 9 Ati maaliif
waan ija isaa duratti hamaa ta’e hojjechuudhaan dubbii WAAQAYYOO tuffatte? Ati
Uuriyaa namicha Heet sana goraadeen ajjeeftee niitii isaa fudhatteerta. Ati goraadee
Amoonotaatiin isa ajjeefte. 10 Kanaafuu amma sababii ati na tuffattee niitii Uuriyaa
namicha Heet sana ofii keetiif fudhatteef goraadeen mana kee irraa hin fagaatu.’

11 “WAAQAYYO akkana jedha: ‘Kunoo, ani manuma kee keessaa waan hamaa sitti
nan kaasa; utuma iji kee arguu niitota kee fuudhee fira sitti aanuuf nan kenna; innis
guyyuma saafaadhaan isaan wajjin ni ciisa. 12 Ati dhoksaatti akkas goote; ani garuu
Israa’eloota hunda duratti guyyuma saafaadhaan waan kana nan godha.’ ”

13 Kana irratti Daawit Naataaniin, “Ani WAAQAYYOTTI cubbuu hojjedheera” jedhe.

Naataan immoo deebisee akkana jedhe; “WAAQAYYO cubbuu kee sirraa haqeera;
atis hin duutu. 14 Ta’us sababii ati waan kana gochuudhaan WAAQAYYOON tuffatteef
daa’imni siif dhalate sun ni du’a.”

15 Erga Naataan gara mana ofii isaa deemee booddee WAAQAYYO daa’ima niitiin
Uuriyaa Daawitiif deesse ni dha’e; mucichis ni dhibame. 16 Daawitis daa’ima sanaaf
Waaqa kadhate. Innis soomee mana isaatti galee halkan hunda lafa rafaa ture.
17 Maanguddoonni mana isaas lafaa isa kaasuuf isa bira dhadhaabatan; inni garuu
ni dide; isaan wajjinis homaa hin nyaanne.

18 Daa’imni sunis guyyaa torbaffaatti ni du’e. Tajaajiltoonni Daawit akka daa’imni
sun du’e isatti himuu sodaatan; isaan, “Nu yeroo daa’imni sun lubbuun jirutti
Daawititti dubbannee ture; inni garuu nu dhaga’uu dide. Amma akkamiin daa’imni
sun du’eera jennee itti himna? Yoo nu itti himne inni of miidha ta’a” jedhanii
yaadanii turaniitii.

19 Daawit akka tajaajiltoonni isaa walitti asaasaa jiran hubatee daa’imni sun du’uu
isaa beeke. Innis, “Mucichi ni du’ee?” jedhee gaafate.

Isaanis, “Eeyyee du’eera” jedhanii deebisan.

20 Daawitis lafaa ka’e. Erga dhagna isaa dhiqatee dibatee booddees uffata isaa
geeddaratee mana WAAQAYYOO seenee waaqeffate. Ergasii immoo gara mana ofii
isaatti galee nyaata gaafannaan dhi’eessaniif; innis ni nyaate.

21 Tajaajiltoonni isaas, “Ati maaliif akkana goota? Yeroo mucichi lubbuun jirutti
ni soomte; ni boosses. Amma garuu mucichi du’eera; ati immoo kaatee nyaatta!”
jedhanii isa gaafatan.

22 Innis akkana jedhee deebise; “Ani yeroo mucichi lubbuun turetti nan soome;
nan boo’es. Ani, ‘Eenyutu beeka? WAAQAYYO garaa naa laafee mucichi ni fayya’
jedhee yaadeen ture. 23 Amma garuu inni du’eera; yoos ani maaliifin sooma? Ani isa
deebisuu nan danda’aa? Anatu gara isaa dhaqa malee inni gara koo hin dhufu!”

24 Ergasiis Daawit niitii isaa Batisheebaa ni jajjabeesse; dhaqees ishee wajjin ciise.
Isheenis ilma deesseef; maqaa isaas Solomoon jedhanii moggaasan. WAAQAYYOS isa ni
jaallate; 25 WAAQAYYO waan isa jaallateef akka inni Yidiidiyaa jedhamee waamamuuf
karaa Naataan raajichaatiin dubbii erge.

26 Yeroo sanattis Yoo’aab magaalaa Amoonotaa kan Rabbaa jedhamu waraanee
da’annoo masaraa mootummaa qabate. 27 Yoo’aabis akkana jedhee Daawititti
ergamoota erge; “Ani magaalaa Rabbaa waraanee madda bishaan ishee qabadheera.

28 Egaa ati loltoota hafan walitti qabadhuutii magaalattii marsii qabadhu. Yoo kanaa
achii ani magaalattii nan fudhadha; isheenis maqaa kootiin moggaafamti."

29 Kanaafuu Daawit loltoota hunda walitti qabatee dhaqee Rabbaa waraanee
qabate. 30 Daawitis mataa mootii isaanii irraa gonfoo fudhate; Gonfichis mataa
Daawit irra kaa'ame. Gonfoon sun hamma warqee taalaantii tokkoo ulfaatee
dhagaawwan gati jabeeyyiis of irraa qaba ture. Daawitis magaalaa sana keessaa
boojuu akka malee baay'ee fudhatee 31 namoota achi keessa turanis gad yaasee akka
isaan magaaziidhaan, gasoo sibiilaatii fi qottoodhaan hojii hojjetan godhe; suphees
isaan dhoofsise. Daawit magaalaawwan Amoonotaa hunda keessattis akkasuma
godhe. Ergasii Daawitii fi loltoonni isaa hundinuu Yerusaalemitti ni deebi'an.

# 13

*Amnoonii fi Taamaar*

1 Yeroo tokko Amnoon ilmi Daawit Taamaarin jaallate; isheen akka malee
bareedduu, obboleettii Abesaaloom ilma Daawit sanaa turte.

2 Amnoon sababii jaalala obboleettii isaa Taamaariitiif akka malee dhiphatee
dhibame; sababii isheen durba turteef Amnoon waan waanuma tokko illee ishee
gochuu danda'u hin seene.

3 Amnoon michuu akka malee jal'aa kan Yoonaadaab jedhamu tokko qaba ture;
Yoonaadaab ilma Shime'aa obboleessa Daawit. 4 Yoonaadaabis Amnooniin, "Yaa
ilma mootii, dhagni kee maaliif guyyuma guyyaan huqqachaa deema? Ati natti hin
himtuu?" jedhee gaafate.

Amnoon immoo, "Ani Taamaar obboleettii Abesaaloom obboleessa kootii jaallad-
heera" isaan jedhe.

5 Yehoonaadaabis, "Sobiitii akka nama dhukkubsateetti siree irra ciisi; yommuu
abbaan kee si gaafachuu dhufutti, 'Akka ani harka isheetii nyaadhuuf akka
obboleettiin koo Taamaar dhuftee fuula koo duratti nyaata naa qopheessitu nan
barbaada' jedhiin" jedhe.

6 Kanaafuu Amnoon sobee akka nama dhukkubsate tokkootti ciise. Yommuu
mootichi isa gaafachuu dhufettis Amnoon, "Akka obboleettiin koo Taamaar dhuftee
fuula koo duratti nyaata addaa naaf qopheessitee nyaadhu nan barbaada" jedheen.

7 Daawitis gara manaatti Taamaaritti nama ergee, "Gara mana obboleessa kee
Amnoon dhaqiitii waan inni nyaatu qopheessiif" jedhe. 8 Kanaafuu Taamaar kaatee
gara mana obboleessa ishee Amnoon kan ciisee ture sanaa dhaqxe. Daakuu xinnoo
ishee fuutee bukeessitee fuula isaa duratti tolchite. 9 Ergasiis buddeena tolchite sana
eelee irraa fuutee dhi'eessiteef; inni garuu nyaachuu dide.

Amnoon, "Nama hunda narraa baasaa" jedhe. Kanaafuu namni hundi isa biraa
ba'e. 10 Ergasiis Amnoon Taamaariin, "Akka ani harka kee irraa nyaadhuuf
buddeenicha kutaa ani ciisutti naa fidi" jedhe. Taamaaris buddeena qopheessite sana
fuutee Amnoon obboleessa isheetiif lafa inni ciisetti geessite. 11 Inni garuu yommuu
isheen nyaata dhi'eessiteefitti humnaan ishee qabatee, "Yaa obboleettii ko, kottuu na
wajjin ciisi" jedheen.

12 Isheen immoo deebiftee akkana jetteen; "Yaa obboleessa ko, waan kana hin
godhin! Na hin dirqisiisin. Wanni fokkisaan akkasii Israa'el keessatti hojjetamuu
hin qabu! Ati waan hamaa kana hin godhin. 13 Ani maalan ta'a? Salphina koos
baadhee eessan dhaqa? Ati hoo? Atis Israa'el keessatti akka gowwaa hamaa tokkootti
ilaalamuu kee ti mitii? Maaloo mootichatti himadhu; inni sitti heerumuu na hin
dhowwuutii." 14 Inni garuu ishee dhaga'uu dide; waan ishee caalaa jabaa ta'eefis
humnaan ishee gudeede.

15 Ergasii Amnoon jibba guddaa ishee jibbe; dhugumaan hamma dur ishee jaallate
caalaa ishee jibbe. Amnoonis, "Ka'iitii ba'ii deemi!" isheen jedhe.

16 Isheen immoo, "Hin ta'u! Na ari'uun kee yakka ati duraan natti hojjette caalaa
hammaata" jetteen.

Inni garuu ishee dhaga'uu dide. 17 Tajaajilaa ofii isaas waamee, "Dubartii kana
narraa baasiitii balbala itti cufi" jedheen. 18 Tajaajilaan isaa sunis gad ishee
baasee balbala itti cufe. Isheen uffata faaya adda addaatiin miidhagfame uffattee
turte; intallan mootii kanneen dubarran qulqulluu ta'an uffata akkasii uffatu
tureetii. 19 Taamaaris mataa isheetti daaraa firfirfattee wandaboo ishee dheeraa
faayawwaniin miidhagfame sana tarsaafte. Harka ishees mataa irra kaa'attee sagalee
ol fudhattee boo'aa deemte.

20 Abesaaloom obboleessi ishee, "Amnoon obboleessi kee si wajjin turee? Yaa
obboleettii ko, cal'isi; inni obboleessuma kee ti. Waan kana garaatti hin qabatin"
jedheen. Taamaaris kophaa ishee mana obboleessa ishee mana Abesaaloom jiraatte.

21 Daawit mootichi yommuu waan kana hunda dhaga'etti baay'ee aare.
22 Abesaaloom dubbii tolaa yookaan hamaa tokko illee Amnoonitti hin dubbanne;
Abesaaloom sababii inni obboleettii isaa Taamaarin salphiseef akka malee Amnoonin
jibbee ture.

### *Abesaaloom Amnoonin Ajjeese*

23 Waggaa lamaa booddee warri hoolota Abesaaloom irraa rifeensa haadan
magaalaa Ba'aal Hasoor kan Efreem biratti argamu sana keessa turan; innis akka
isaan achi dhaqaniif ilmaan mootii hunda waame. 24 Abesaaloomis gara mootichaa
dhaqee, "Namoonni hoolota garbicha keetii irraa rifeensa haadan dhufaniiru. Maaloo
mootichii fi qondaaltonni isaa garbicha kee wajjin haa deeman" jedhee kadhate.

25 Mootichi immoo deebisee, "Lakki yaa ilma ko, nu hundinuu deemuu hin qabnu;
nu ba'aa qofa sitti taanaa" jedheen. Abesaaloom jabeessee isa kadhatu iyyuu inni isa
eebbise malee isa faana hin deemne.

26 Abesaaloomis, "Yoo ta'uu baate, maaloo obboleessi koo Amnoon nu wajjin haa
deemu" jedhe.

Mootichi immoo, "Inni maaliif si wajjin deema?" jedhee gaafate. 27 Abesaaloom
garuu jabeessee isa kadhate; kanaafuu inni Amnoonii fi ilmaan mootichaa kaan isa
wajjin erge.

28 Abesaaloom akkana jedhee namoota isaa ajaje; "Dhaga'aa! Yommuu Amnoon
daadhii wayinii dhugee machaa'utti ani, 'Amnoonin dha'aa' isiniin jedha; isinis
yommuu suma isa ajjeesaa. Hin sodaatinaa. Anatu ajaja kana isinii kenne mitii?
Jabaadhaa; jagnoomaas." 29 Kanaafuu namoonni Abesaaloom waanuma Abesaaloom
isaan ajaje sana Amnoonitti hojjetan. Ilmaan mootichaa hundinuus ka'anii gaangolii
isaanii yaabbatanii baqatan.

30 Utuu isaan karaa irra jiranuu oduun, "Abesaaloom ilmaan mootichaa hunda
fixeera; tokkoon isaanii iyyuu hin hafne" jedhu Daawit qaqqabe. 31 Mootichis ol ka'ee
uffata isaa tarsaasee lafa ciise; tajaajiltoonni isaa kanneen isa bira dhadhaabatanii
turan hundinuus uffata isaanii tatarsaasan.

32 Yoonaadaab ilmi Shime'aa ilmi obboleessa Daawit sun garuu akkana jedhe;
"Gooftaan koo waan isaan ilmaan mootichaa hunda fixan hin se'in; Amnoon qofatu
du'e. Kunis waan Abesaaloom erga Amnoon obboleettii isaa Taamaarin humnaan
gudeedee jalqabee itti yaadaa turee dha. 33 Gooftaan koo mootichi waa'ee oduu
ilmaan mootichaa hundi ajjeefamaniiru jedhu sanaa hin yaadda'in; Amnoon qofatu
du'e."

34 Yeroo kanatti Abesaaloom baqateera.

Namichi eegumsaaf dhaabatee tures ol jedhee ilaalee namoota baay'ee daandii Horonaayim kan gaara cina ba'u irra dhufaa jiran arge. Namichi sunis dhaqee, "Ani karaa Horonaayim, cina gaaraatti namoota nan arga" jedhee mootichatti hime.
35 Yoonaadaabis mootichaan, "Kunoo, ilmaan mootichaa dhufanii jiru; wanni kun akkuma garbichi kee jedhe ta'e" jedhe.
36 Akkuma inni dubbatee fixateen ilmaan mootichaa sagalee guddaadhaan boo'aa ol galan. Mootichii fi tajaajiltoonni isaa hundinuus hiqqifatanii boo'an.
37 Abesaaloom garuu baqatee gara ilma Amiihuud, gara Talmaay mooticha Geshuur sanaa dhaqe. Daawit immoo guyyaa hunda ilma isaatiif ni boo'a ture.
38 Abesaaloom erga baqatee Geshuur dhaqee booddee waggaa sadii achi ture.
39 Mootichis du'a Amnoon irraa jajjabaannaan gara Abesaaloom dhaquuf garaan isaa kaka'e.

# 14

*Abesaaloom Yerusaalemitti Deebi'e*

1 Yoo'aab ilmi Zeruuyaa akka garaan mootichaa Abesaaloom itti deebi'e beeke.
2 Kanaafuu Yoo'aab gara Teqoo'aatti nama ergee dubartii ogeettii tokko fichisiise. Innis akkana isheedhaan jedhe; "Sobiitii akka nama gadda keessa jiruu ta'i. Wayyaa gaddaa uffadhu; dibata kam iyyuu hin dibatin. Akka dubartii nama du'e tokkoof
guyyaa hedduu gaddite tokkoos ta'i. 3 Mooticha bira dhaqiitii waan kana itti himi."
Yoo'aabis waan isheen dubbattu isheetti hime.
4 Dubartiin sun yommuu Teqoo'aadhaa gara mootichaa dhuftetti ulfina isaaf kennuuf addaan lafatti gombifamtee, "Yaa mootii, na gargaari!" jette.
5 Mootichis, "Ati maal rakkatte?" jedhee ishee gaafate.
Isheenis akkana jette; "Sababii dhirsi koo du'eef ani dhugumaan niitii dhirsa hin
qabnee dha. 6 Ani garbittiin kee ilmaan lama qaban ture. Isaanis alatti wal lolan; sababii namni wal irraa isaan dhowwu tokko iyyuu achi hin turiniif inni tokko
isa kaan dha'ee ajjeese. 7 Kunoo, gosti hundi ana garbittii keetti ka'eera; isaanis, 'Waan inni obboleessa ofii isaa ajjeeseef akka nu sababii lubbuu obboleessa isaa kan inni ajjeese sanaa isa ajjeefnuuf dabarsii nutti kenni; ergasii dhaaltuu isaa illee ni galaafanna' jedhu. Isaanis akkasiin akka dhirsi koo maqaa yookaan sanyii lafa irraa hin qabaanneef ibsaa koo tokkicha hafe kana dhaamsu."
8 Mootichis dubartii sanaan, "Ani waa'ee keetiif ajaja nan dabarsaatii ati mana keetti gali" jedhe.
9 Dubartiin Teqoo'aa sun garuu, "Yaa gooftaa ko, yaa mooticha, yakki sun anaa fi maatii abbaa koo irra haa bu'u; mootichii fi teessoon isaa yakka irraa haa qulqullaa'an" jette.
10 Mootichis deebisee, "Yoo namni kam iyyuu waan tokko illee sitti dubbate isa natti fidi; innis deebi'ee si hin rakkisu" jedhe.
11 Ishee immoo, "Kanaafuu akka namni haaloo dhiigaa baasu sun ittuma fufee nama biraa ajjeesee akkasiin ilmi koo hin ajjeefamneef mootichi WAAQAYYOON Waaqa isaa haa waammatu" jette.
Innis, "Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, rifeensi tokkittiin mataa ilma keetii irraa lafa hin bu'u" jedhe.
12 Ergasiis dubartittiin, "Akka ani garbittiin kee gooftaa koo mootichatti dubbii tokkittii dubbadhu naa eeyyami" jette.
Innis, "Dubbadhu" jedhee deebise.
13 Dubartittiin immoo akkana jette; "Yoos ati maaliif waan akkasii saba Waaqaatti yaadde? Mootichi ilma isaa kan biyyaa baqate sana hin deebifneetii; akkana jechuun
isaa ofitti muruu isaa mitii? 14 Nus akkuma bishaan lafatti dhangala'ee deebi'ee

hin waraabamneetti ni duuna. Waaqni garuu karaa namni biyyaa baqate sun ittiin
deebi'u barbaada malee akka inni isa irraa fagaatee hafu hin fedhu.
15 "Kanaafuu sababii namoonni na sodaachisaniif ani dubbii kana gooftaa koo
moootichatti himuuf dhufeera. Garbittiin kees waan kana yaadde; 'Ani mooticha nan
gaafadha; innis waan garbittiin isaa gaafatte tole jedha ta'a. 16 Mootichi waan kana
dhaga'ee harka namicha anaa fi ilma koo dhaala Waaqni nuu kenne nu dhabsiisuu
yaaluu jalaa garbittii isaa ni baasaatii.'
17 "Ammas garbittiin kee akkana jetti; 'Sababii gooftaan koo mootichi waan gaarii fi
hamaa gargari baasee beekuutti akkuma ergamaa Waaqayyoo ta'eef dubbiin gooftaa
koo mootichaa boqonnaa naaf haa kennu. WAAQAYYO Waaqni kee si wajjin haa ta'u.' "
18 Kana irratti mootichi dubartittiidhaan, "Ati waan ani si gaafadhu kam iyyuu na
hin dhoksin" jedhe.
Dubartittiinis, "Gooftaan koo mootichi haa dubbatu" jette.
19 Mootichi, "Waan kana hunda keessatti harki Yoo'aab si wajjin jiraa?" jedhee
gaafate.
Dubartiin sun immoo akkana jettee deebifte; "Yaa gooftaa koo mooticha, du'a kee
ti; dubbii gooftaan koo mootichi dubbatu irraa namni gara mirgaatti yookaan gara
bitaatti goruu danda'u tokko illee hin jiru. Dhuguma namni akka ani waan kana
dubbadhu na ajajee fi kan dubbii kana hundas afaan garbittii keetii keessa kaa'e
Yoo'aabuma garbicha kee ti. 20 Yoo'aab garbichi kee waan kana gochuun isaa haala
yeroo ammaa jiru geeddaruuf. Gooftaan koo ogummaa akkuma ogummaa ergamaa
Waaqayyoo qaba; inni waan lafa irratti ta'u hunda ni beeka."
21 Mootichis Yoo'aabiin, "Tole; ani waan kana nan godha. Ati dhaqii Abesaaloom
dargaggeessicha fidi" jedhe.
22 Yoo'aabis ulfina isaaf kennuuf addaan gombifamee mooticha eebbise. Yoo'aab,
"Sababii mootichi kadhannaa garbicha isaa dhaga'eef inni akka fuula gooftaa isaa
mootichaa duratti fudhatama argate har'a ni beeka" jedhe.
23 Ergasii Yoo'aab Geshuur dhaqee Abesaaloomin deebisee Yerusaalemitti fide.
24 Mootichi garuu, "Inni gara mana isaa deemuu qaba; inni fuula koo arguu hin
qabu" jedhe. Kanaafuu Abesaaloom gara mana isaatti gale; fuula mootichaas hin
argine.
25 Guutummaa Israa'el keessa namni akka Abesaaloom miidhaguma isaatiin
baay'ee jajame tokko iyyuu hin turre. Inni mataa isaatii jalqabee hamma faana
miilla isaatti hir'ina tokko iyyuu hin qabu ture. 26 Yommuu rifeensi mataa isaa itti
ulfaatutti waggaatti yeroo tokko of irraa mura ture; yeroo inni rifeensa mataa isaa
kana madaalli mootiitiin madaaluttis rifeensi isaa saqilii dhibba lama ulfaata ture.
27 Abesaaloom ilmaan sadii fi intala tokko dhalche. Maqaan intala sanaa Taamaar
jedhama; isheenis dubartii akka malee bareeddu turte.
28 Abesaaloom utuu fuula mootichaa hin argin waggaa lama Yerusaalem keessa
jiraate. 29 Ergasii Abesaaloom Yoo'aabin gara mootichaatti erguuf jedhee nama itti
erge; Yoo'aab garuu isa bira dhufuu dide. Kanaafuu yeroo lammaffaa nama itti
erge; inni garuu dhufuu dide. 30 Ergasiis Abesaaloom hojjettoota isaatiin, "Ilaa,
lafti qotiisaa Yoo'aab lafa qotiisaa kootti aana; innis garbuu achii qaba. Dhaqaatii
ibidda itti qabsiisaa" jedhe. Kanaafuu hojjettoonni Abesaaloom dhaqanii lafa qotiisaa
sanatti ibidda qabsiisan.
31 Kana irratti Yoo'aab gara mana Abesaaloom dhaqee, "Hojjettoonni kee maaliif
lafa qotiisaa kootti ibidda qabsiisan?" jedheen.
32 Abesaaloomis deebisee Yoo'aabiin akkana jedhe; "Kunoo ani akka ati, 'Inni, "Ani
maaliifin Geshuurii dhufe? Utuun hamma ammaatti achuma jiraadhee naaf wayya
ture!" jedha' jettee mootichatti naaf himtuuf gara mootichaatti si ergachuuf, na

bira kottu jedhee sitti dhaammadheen ture. Ani amma illee fuula mootichaa arguun
fedha; yoo ani yakka tokko illee hojjedhee jiraadhe inni na haa ajjeesu."
33 Kanaafuu Yoo'aab gara mootichaa dhaqee waan kana itti hime. Mootichis
Abesaaloomin waamsise; innis dhufee fuula mootichaa duratti addaan lafatti
gombifame. Mootichis Abesaaloomin dhungate.

# 15

*Fincila Abesaaloom*

1 Kana irratti Abesaaloom gaarii lolaatii fi fardeen akkasumas namoota fuula isaa
dura fiigan shantama ofii isaatiif qopheeffate. 2 Innis ganamaan ka'ee daandii
gara karra magaalaatti nama geessu irra dhaabata ture. Yeroo namni kam iyyuu
iyyata isaa mootii duratti dhi'eeffatee murtii argachuuf dhufutti, Abesaaloom ofitti
isa waamee, "Ati magaalaa kamii dhufte?" jedhee gaafata. Namni sunis, "Garbichi
kee gosoota Israa'el keessaa gosa tokko keessaa dhufa" jedhee deebisaaf. 3 Ergasiis
Abesaaloom, "Kunoo iyyanni kee dhugaa fi qajeelaa dha; garuu akka inni si dhaga'uuf
namni mootiin iddoo buufate tokko iyyuu hin jiru" jedhaan. 4 Abesaaloomis itti
dabalee, "Maal qaba, utuu ani biyya kanatti abbaa murtii ta'ee! Silaa namni iyyata
yookaan himata qabu kam iyyuu na bira dhufee anis murtii qajeelaa isaaf nan kennan
ture" jedha.
5 Akkasumas yeroo namni tokko fuula isaa duratti jilbeenfachuuf gara isaa dhufutti
Abesaaloom harka diriirfatee ol isa qabuudhaan isa dhungata. 6 Abesaaloom akkasiin
Israa'eloota murtii qajeelaa argachuuf gara mootii dhufan hunda simachuudhaan
garaa namoota Israa'el hate.
7 Abesaaloomis gara dhuma waggaa afuraffaatti mootichaan akkana jedhe; "Akka
ani Kebroon dhaqee wareega WAAQAYYOOF wareegee ture tokko dhi'eessuuf naaf
eeyyami. 8 Ani garbichi kee yeroon biyya Sooriyaa keessa Geshuur jiraachaa turetti,
'Yoo WAAQAYYO gara Yerusaalemitti na deebise, ani Kebroonitti WAAQAYYOOF nan
sagada' jedhee wareega kana wareegeen ture."
9 Mootichis, "Nagaan deemi" jedheen. Kanaafuu Abesaaloom gara Kebroon deeme.
10 Abesaaloom garuu akka isaan, "Isin akkuma sagalee malakataa dhageessaniin,
'Abesaaloom Kebroonitti mootii ta'eera' jedhaa" jedhaniif guutummaa gosoota
Israa'el keessa dhoksaadhaan ergamoota bobbaase. 11 Namoonni dhibbi lama
Yerusaalemii ba'anii Abesaaloom faana bu'an. Isaan akka keessummaatti affeera-
manii cal'isaniituma deeman malee waa'ee dhimma sanaa waan tokko illee quba
hin qaban ture. 12 Abesaaloom yeroo aarsaa dhi'eessutti namichi gosa Giiloo kan
Ahiitofel jedhamu, gorsaan Daawit akka magaalaa isaa Giiloodhaa dhufuuf waamsise.
Kanaafuu fincilli sun jabaatee duukaa buutonni Abesaaloomis baay'achaa dhufan.

*Daawit Baqachuu Isaa*

13 Ergamaan tokkos Daawit bira dhufee, "Garaan namoota Israa'el gara Abesaaloom
itti deebi'ee jira" jedhee itti hime.
14 Ergasiis Daawit qondaaltota isaa warra isa wajjin Yerusaalem keessa turaniin
akkana jedhe; "Ka'aa ni baqannaa! Yoo kanaa achii tokkoon keenya iyyuu
Abesaaloom jalaa hin baanu. Dafnee asii deemuu qabna; yoo kanaa achii inni
ariitiidhaan dhufee nu qaqqabee nu balleessaatii; magaalattii illee goraadeedhaan
dha'a."
15 Qondaaltonni mootichaas, "Nu tajaajiltoonni kee waan gooftaan keenya mootichi
murteesse kam iyyuu gochuuf qophaa'oo dha" isaan jedhan.
16 Kanaafuu mootichi warra mana isaa jiraatan hunda of faana fudhatee qajeele;
saajjatoowwan isaa kudha garuu akka isaan masaraa mootii eeganiif achumatti
dhiise. 17 Mootichis akkasiin namoota hunda of faana fudhatee ba'e; isaanis xinnoo

achi fagaatanii iddoo tokko dhadhaabatan. 18 Namoonni isaa hundinuu Kereetotaa
fi Pheletota hunda wajjin mooticha dura qajeelan; akkasumas Gaatonni dhibba ja’a
kanneen Gitii isa faana ba’anis fuula mootichaa dura darban.

19 Mootichis Itaayi namicha Gitii sanaan akkana jedhe; “Ati maaliif nu faana
dhufta? Deebi’iitii Abesaaloom mooticha wajjin turi. Ati keessummaa biyya keetii
booji’amtee dhuftee dha. 20 Ati kaleessuma dhufte. Egaa ani utuun ofii kootiifuu
garan dhaqu hin beekin akka ati nu faana joortun si godhaa? Amma beenuu namoota
biyya keetii fudhadhuutii deebi’i. Gara laafinnii fi amanamummaan si wajjin haa
ta’an.”

21 Itaayi garuu deebisee mootichaan, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataatii fi du’a gooftaa
koo mootichaa, jireenyas ta’u du’a taanaan ani tajaajilaan kee gara gooftaan koo
mootichi deemu kam iyyuu nan deema” jedhe.

22 Daawit immoo Itaayiin, “Yoos darbii fuula duratti deemi” jedhe. Kanaafuu Itaayi
namichi Gitii sun namoota isaatii fi maatii isaa kanneen isa wajjin turan hunda
fudhatee deeme.

23 Yeroo namoonni sun hundi darbanittis warri baadiyyaa jiraatan hundi sagalee
ol fudhatanii boo’an. Mootichis Sulula Qeedroon ce’ee deeme; namoonni hundinuus
ce’anii gara gammoojjiitti qajeelan.

24 Zaadoqis achi ture; Lewwonni isa wajjin turan hundinuu taabota kakuu Waaqaa
baatanii turan; isaanis taabota Waaqaa lafa kaa’an; Abiyaataar immoo hamma
namoonni hundi magaalaa keessaa ba’anitti aarsaa dhi’eesse.

25 Ergasii mootichi Zaadoqiin akkana jedhe; “Ati taabota Waaqaa fuudhiitii gara
magaalaatti deebi’i. Yoo ani fuula WAAQAYYOO duratti surraa argadhee jiraadhe, inni
deebisee na fidee taabota sanaa fi lafa ofii jiraatu na argisiisa. 26 Garuu yoo inni, ‘Ani
sitti hin gammanne’ naan jedhe, ani qophaa’aa dha; inni waan fedhe na haa godhu.”

27 Mootichis Zaadoq lubichaan, “Ati nama mul’ataan waa argu mitii? Egaa ilma
kee Ahiima’azin akkasumas Yoonaataan ilma Abiyaataar fudhadhuutii nagaan gara
magaalaatti deebi’i. Atii fi Abiyaataar ilmaan keessan lamaan fudhadhaatii deemaa.
28 Ani immoo hamman dhaamsa kee dhaga’utti malkaa gammoojjii keessaa bira
nan tura.” 29 Kanaafuu Zaadoqii fi Abiyaataar taabota Waaqaa sana fuudhanii
Yerusaalemitti deebi’anii achuma turan.

30 Daawit garuu Gaara Ejersaatti ol ba’e; yeroo ol ba’uttis boo’aa deemaa ture;
innis mataa isaa haguuggatee kophee malee deema ture. Namoonni isa wajjin
turan hundinuus mataa isaanii haguuggatanii boo’aa deemu turan. 31 Yeroo
kanatti, “Ahiitofelis warra Abesaaloom wajjin fincilan keessaa tokkoo dha” jedhamee
Daawititti himame. Kanaafuu Daawit, “Yaa WAAQAYYO, gorsa Ahiitofel sana jalaa
busheessi” jedhee Waaqa kadhate.

32 Yeroo Daawit iddoo wal ga’ii iddoo itti namoonni Waaqa waaqeffatan ga’ettis
Huushaayi namichi gosa Arkii sun wandaboo ofii tarsaasee daaraa mataatti firfirfatee
isa simachuuf ba’e. 33 Daawitis akkana jedheen, “Ati yoo na wajjin deemte ba’aa
natti taata. 34 Garuu yoo gara magaalaatti deebitee Abesaaloomiin, ‘Yaa mootii, ani
duraan garbicha abbaa keetiin ture; amma garuu garbicha kee nan ta’a’ jettee gorsa
Ahiitofel busheessite na gargaaruu dandeessa. 35 Zaadoqii fi Abiyaataar luboonni
suma wajjin achi jiraatu mitii? Ati waan masaraa mootiitii dhageessu hunda isaanitti
himi. 36 Ilmaan isaanii lamaan Ahiima’az ilmi Zaadoqii fi Yoonaataan ilmi Abiyaataar
isaanuma wajjin achi jiraatan. Ati waan dhageessu hunda harka isaaniitiin naa ergi.”

37 Kanaafuu Huushaayi michuun Daawit utuma Abesaaloom Yerusaalem seenaa
jiruu achi ga’e.

# 16

### *Daawitii fi Ziibaa*

1 Daawit fiixee gaarichaa darbee xinnoo erga deemee booddee Ziibaan tajaajilaan
Mefiibooshet harroota lamatti buddeena dhibba lama, bixxillee ija wayinii dhibba
tokko, bixxillee ija harbuu dhibba tokkoo fi daadhii wayinii qalqalloo tokko fe'ee isa
simachuuf itti dhufe.
2 Mootichis, "Kana hunda maaliif fidde?" jedhee Siibaa gaafate.

Ziibaan immoo, "Harroota akka maatiin mootichaa Yaabbataniif, buddeenaa fi
bixxillee ija wayinii akka namoonni nyaataniif, daadhii wayinii immoo akka warri
gammoojjii keessatti dadhaban ittiin bayyanataniif" jedhee deebise.
3 Mootichis, "Ilmi ilma gooftaa keetii eessa jira?" jedhee gaafate.

Ziibaan immoo deebisee, "Inni waan, 'Manni Israa'el har'a mootummaa
akaakayyuu kootii naa deebisa' jedhee yaaduuf Yerusaalem keessa jiraata" jedhe.
4 Mootichis Ziibaadhaan, "Wanni kan Mefiibooshet ta'e hundinuu amma kan kee
ti" jedhe.

Ziibaanis, "Ani akkan fuula gooftaa kootii, fuula mootichaa duratti surraa
argadhuuf ofi qabeen si kadhadha" jedhe.

### *Saamiin Daawitin Abaare*

5 Akkuma Daawit mootichi Bahuuriim ga'een namichi balbala maatii Saa'ol
tokko itti dhufe. Maqaan isaas Shime'ii ilma Geeraa ti; namichi kunis Daawitin
abaaraa gad ba'e. 6 Innis utuma qondaaltonnii fi waardiyyoonni Daawit hundinuu
mirgaa fi bitaan Daawitin marsanii jiranuu hunda isaaniitti dhagaa darbachaa ture.
7 Shime'iinis akkana jedhee isa abaaraa ture; "Asii ba'i; asii ba'i; ati nama dhiigaa ti;
namicha hamaa nana! 8 Waaqayyo dhiiga mana Saa'ol kan ati iddoo isaa buutee
moote sanaa hundaaf gatii kee siif kenneera. Waaqayyo mootummaa kee sirraa
fuudhee ilma kee Abesaaloomiif kenneera. Ati sababii nama dhiigaa taateef ni
badda!"
9 Abiishaayi ilmi Zeruuyaa mootichaan, "Sareen du'aan kun maaliif gooftaa koo
mooticha abaara? Ani dhaqeen mataa isaa irraa kuta" jedhe.
10 Mootichi garuu akkana jedhe; "Yaa ilmaan Zeruuyaa, anii fi isin maal wal irraa
qabna? Yoo inni sababii Waaqayyo, 'Ati Daawitin abaari' isaan jedheef na abaare
eenyutu, 'Ati maaliif waan kana goota?' jedhee isa gaafachuu danda'a?"
11 Ergasii Daawit Abiishaayii fi qondaaltota isaa hundaan akkana jedhe; "Ilmi koo
kan gudeeda kootii ba'e iyyuu lubbuu koo balleessuu barbaada. Yoos namichi gosa
Beniyaam kun hammam kana caalaa hin goone ree! Isa dhiisaa; waan Waaqayyo isa
ajajeef inni na haa abaaru. 12 Tarii Waaqayyo dhiphina koo argee abaarsa ani har'a
abaaramaa jiru kana waan gaariitti naa geeddara ta'aa."
13 Kanaafuu Daawitii fi namoonni isaa karaa isaanii itti fufan; Shime'iin immoo isa
abaaraa, dhagaa itti darbachaa, awwaaras itti bittinneessaa fuullee isaatiin gaara cina
deemaa ture. 14 Mootichii fi namoonni isa wajjin turan hundi dadhabbii guddaadhaan
dhufanii achitti aara galfatan.

### *Gorsa Kusiitii fi Ahiitofel*

15 Yeroo kanattis Abesaaloomii fi namoonni Israa'el hundi gara Yerusaalem dhufan;
Ahiitofelis isa wajjin ture. 16 Huushaayi namichi gosa Arkii michuun Daawit sun
Abesaaloom bira dhaqee, "Yaa mootii bara baraan jiraadhu! Yaa mootii bara baraan
jiraadhu!" jedheen.
17 Abesaaloomis, "Jaalalli ati michuu keetiif qabdu kanaa? Ati maaliif michuu kee
wajjin hin deemne?" jedhee Huushaayin gaafate.

[18] Huushaayi immoo Abesaaloomiin akkana jedhe; "Lakki; ani kan nama
WAAQAYYO, sabni kunii fi namoonni Israa'el hundi filatanii nan ta'a; isa wajjinis nan
jiraadha. [19] Kanaa achi ani eenyun tajaajila? Ani Ilma tajaajiluu hin qabuu? Ani
akkuman abbaa kee tajaajile sana si'i illee nan tajaajila."
[20] Abesaaloomis Ahiitofeliin, "Mee nu gorsi. Nu maal gochuu qabna?" jedhe.
[21] Ahiitofelis deebisee, "Ol seeniitii saajjatoowwan abbaa keetii kanneen inni akka
isaan masaraa mootii eeganiif dhiisee biraa deeme wajjin ciisi. Ergasii Israa'eloonni
hundi akka ati abbaa kee jibbite dhaga'anii, harki warra si wajjin jiran hundaas ni
jabaataa" jedheen. [22] Kanaafuu bantii manaa irra Abesaaloomiif dunkaana dhaaban;
innis Israa'eloota hunda duratti saajjatoowwan abbaa isaa wajjin ciise.
[23] Bara sanatti gorsi Ahiitofel kennaa ture akkuma waan namni tokko Waaqa
gaafatuutti ilaalama ture. Akki itti Daawitis ta'u Abesaaloom gorsa Ahiitofel hunda
dhaga'aa turan kanaa dha.

# 17

[1] Ahiitofelis Abesaaloomiin akkana jedhe; "Ani namoota kuma kudha lama filadhee
halkanuma kana Daawitin nan ari'a. [2] Anis yeroo inni dadhabee laafutti isa nan
dha'a. Sodaa itti buusee akka namoonni isa wajjin jiran hundis baqatan nan
godha. Ani mooticha qofa dha'ee [3] namoota isaa hundas deebisee sittin fida. Duuti
namicha ati barbaaddu sanaa deebi'uu nama hundaa ti jechuu dha; ergasii namoonni
hundinuu nagaan jiraatu." [4] Karoorri kunis Abesaaloomii fi maanguddoota Israa'el
hundatti waan gaarii fakkaate.
[5] Abesaaloom garuu, "Mee Huushaayi namicha gosa Arkii sanas waamaatii waan
inni jedhu haa dhageenyu" jedhe. [6] Abesaaloom yeroo Huushaayi isa bira dhufetti,
"Ahiitofel gorsa kana nuu kenneera. Waan inni jedhe kana haa goonuu? Yoo ta'uu
baate immoo yaada kee nuu kenni" jedheen.
[7] Huushaayis deebisee Abesaaloomiin akkana jedhe; "Gorsi Ahiitofel kenne yeroo
kanatti gaarii miti. [8] Ati abbaa keetii fi namoota isaa ni beekta; isaan loltootaa fi warra
akkuma amaaketa ilmaan ishee jalaa fudhatamteetti nama sodaachisanii dha. Kana
irratti abbaan kee muuxannoo waraanaa guddaa qaba; inni halkan halkan loltoota
bira hin bulu. [9] Amma illee inni holqa keessa yookaan lafa biraa dhokatee jira ta'a.
Yoo inni duraan dursee loltoota kee dha'e, namni waa'ee kanaa dhaga'u kam iyyuu,
'Loltoonni Abesaaloom duuka bu'an ni dhuman' jedhee odeessa. [10] Ergasii immoo
sababii Israa'eloonni hundinuu akka abbaan kee nama waraanaa ta'ee fi akka warri
isa wajjin jiranis jajjaboo ta'an beekaniif loltoonni ciccimoon warri onneen isaanii
akka onnee leencaa ta'e sodaadhaan dhuman.
[11] "Egaa wanni ani si gorsu kana: Israa'eloonni lakkoobsi isaanii akka cirracha
qarqara galaanaa baay'atu kanneen Daanii hamma Bersheebaatti argaman hundi
si biratti walitti haa qabamaniitii ati isaan dura bu'ii lolatti seeni. [12] Akkasiin lafa
inni jirutti isa dhoofna; akkuma Fixeensi ganamaa lafa irra bu'uttis isa irra buuna.
Innis ta'u namoonni isaa tokko iyyuu lubbuun hin hafan. [13] Yoo inni gara magaalaa
sanaatti baqates, Israa'eloonni hundinuu funyoo fidanii hamma dhagaan xinnaan
tokko hin hafnetti magaalaa sana gara sululaatti harkifna."
[14] Abesaaloomii fi Israa'eloonni hundinuu, "Gorsa Ahiitofel caalaa gorsa Huushaayi
namicha gosa Arkii sanaatu wayya" jedhan. WAAQAYYO Abesaaloomitti badiisa fiduuf
jedhee gorsa Ahiitofel gaarii sana faayidaa dhabsiiseeraatii.
[15] Huushaayiis akkana jedhee Zaadoqii fi Abiyaataar lubootatti hime; "Ahiitofel,
'Akkasii fi akkas godhaa' jedhee Abesaaloomii fi maanguddoota Israa'el gorsee ture;
ani garuu, 'Akkanaa fi akkana godhaa' jedheen isaan gorse. [16] Amma gara Daawititti
ergamoota ergaatii, 'Ati halkan kana holqawwan gammoojjii keessa hin bulin; utuu

hin turin ce'ii deemi; yoo kanaa achii mootichii fi namoonni isa wajjin jiran hundinuu
ni liqimfamtu' jedhaa itti himaa."
[17] Yeroo sanattis Yoonaataanii fi Ahiima'az iddoo Een Roogeel jedhamu turan.
Intalli xomboreen tokko dhaqxee isaanitti himti turte; isaan immoo dhaqanii Daawit
mootichatti himu turan; isaan akka yeroo magaalaa seenanitti hin argamneef of
eeggachaa turaniitii. [18] Garuu dargaggeessi tokko isaan argee Abesaaloom itti hime.
Kanaafuu lamaan isaanii iyyuu dafanii achii ba'anii mana namicha Bahuuriim keessa
jiraatu tokkoo seenan. Namichi kunis dallaa isaa keessaa boolla qaba ture; isaanis
boolla sana keessa lixan. [19] Niitiin namicha sanaas afaan boollichaa gubbaa waa
diriirsitee midhaan achi irra afte. Namni tokko iyyuu waan kana hin beekne.
[20] Namoonni Abesaaloom yommuu dubartittii bira mana dhufanitti, "Ahiima'azii
fi Yoonaataan meerre?" jedhanii gaafatan.
Dubartittiinis, "Isaan laga ce'anii deemaniiru" jettee isaaniif deebifte. Jarris
barbaadanii isaan dhaban; kanaafuu Yerusaalemitti deebi'an.
[21] Erga namoonni Abesaaloom deemanii booddee Ahiima'azii fi Yoonaataan boolla
keessaa ol ba'anii Daawit mootichatti himuu dhaqan. Isaanis, "Ammuma kana
ka'iitii laga ce'i; Ahiitofel, 'Akkasii fi akkas godhaa' jedhee sirratti isaan gorseeraa"
jedhaniin. [22] Kanaafuu Daawitii fi namoonni isaa hundi ka'anii Yordaanosin ce'an.
Yeroo lafti bariitetti namni utuu Yordaanosin hin ce'in hafe tokko iyyuu hin turre.
[23] Ahiitofelis yommuu akka gorsi isaa fudhatama dhabe beeketti harree isaa fe'atee
gara magaalaa iddoo mana jireenya isaatti qajeele. Innis erga mana isaa tottolfatee
booddee of fannise. Akkasiinis du'ee awwaala abbaa isaa keessatti awwaalame.
[24] Daawit gara Mahanayiim deeme; Abesaaloom immoo namoota Israa'el hunda
wajjin Yordaanosin ce'e. [25] Abesaaloomis Amaasaa qooda Yoo'aab ajajaa loltootaa
godhee muude; Amaasaan kun ilma namicha gosa Israa'el kan Yitraa jedhamu isa
Abiigayiil haadha Yoo'aab, obboleettii Zeruuyaa, intala Naa'aash sana fuudhee ture.
[26] Israa'eloonnii fi Abesaaloom biyya Gili'aad keessa qubatan.
[27] Yommuu Daawit Mahanayiim ga'ettis, Shoobiin ilmi Naahaash namichi gosa
Amoon kan Rabbaadhaa dhufe, Maakiir ilmi Amii'eel kan Lodebaarii dhufee fi
Barzilaayiin namichi gosa Gili'aad kan Rogeliimii dhufe [28] afata, waciitii fi mi'oota
suphee irraa hojjetaman fidan. Akkasumas akka isaan nyaataniif qamadii fi garbuu,
daakuu fi akaayii, baaqelaa fi misira, [29] dammaa fi itittuu, hoolotaa fi baaduu
aannan loon Daawitii fi namoota isaatiif fidan. Isaanis, "Namoonni lafa gammoojjiitti
beela'aniiru, dadhabaniiru, dheebotaniirus" jedhanii turaniitii.

# 18

*Abesaaloom Du'uu Isaa*
[1] Daawit namoota isa wajjin turan lakkaa'ee ajajjuuwwan kumaatii fi ajajjuuwwan
dhibbaa muudeef. [2] Daawitis harka sadii keessaa harka tokko ajaja Yoo'aab jalatti,
harka tokko ajaja Abiishaayi obboleessa Yoo'aab ilma Zeruuyaa jalatti, harka tokko
immoo ajaja Itaayii namicha Gitii jalatti hiriirsee bobbaase. Mootichis loltootaan,
"Ani mataan koo dhugumaan isin wajjin nan ba'a" jedhe.
[3] Namoonni garuu akkana jedhaniin; "Ati deemuu hin qabdu; yoo nu baqachuuf
dirqamne isaan waa'ee keenya dhimma hin qaban; yoo walakkaan keenyas dhumne
isaaniif homaa miti; ati garuu nama akka keenyaa kuma kudhan caalta. Kanaafuu
ati yoo magaalaa keessa turtee nu gargaarte wayya."
[4] Mootichis, "Ani waan gaarii isinitti fakkaate kam iyyuu nan godha" jedhee
deebise.
Kanaafuu mootichi yeroo loltoonni hundi garee dhibbaatii fi garee kumaatiin
qajeelanitti karra bira dhaabachaa ture. [5] Mootichis Yoo'aab, Abiishaayii fi Itaayiin,

"Anaaf jedhaatii Abesaaloom dargaggeessichaaf garaa laafaa" jedhee ajaje. Loltoonni
hundinuus ajaja Daawit waa'ee Abesaaloom ajajjootaaf kenne dhaga'an.
6 Loltoonnis Israa'elin waraanuuf dirree waraanaatti ba'an; lollis bosona Efreem
keessatti ka'e. 7 Achittis loltoonni Israa'el loltoota Daawitiin dha'aman; hubaatiin
gaafasiis akka malee guddaa ture; namoota kuma digdamatu dhume. 8 Lolli sunis
guutummaa baadiyyaatti babal'ate; namoota goraadeen fixe caalaa kan bosonni
liqimsee hambisetu baay'ata.
9 Abesaaloom yeroo kanatti akka tasaa namoota Daawititti dhufe. Innis gaangoo
isaa yaabbatee deemaa ture; utuma gaangoon isaa dameelee gobbuu qilxuu guddaa
tokkoo jala darbaa jirtuu mataan Abesaaloom muka keessatti qabame. Innis qilleensa
irratti rarra'ee hafe; gaangoon inni yaabbatee ture sun garuu deemsa ishee ittuma
fufte.
10 Namichi tokko yommuu waan kana argetti, "Ani akka Abesaaloom muka
qilxuutti rarra'ee jiru ammuma argeera" jedhee Yoo'aabitti hime.
11 Yoo'aabis namicha waan kana isatti himeen, "Maal jetta! Ati isa argiteertaa?
Maaliif achumatti rukuttee lafaan isa dha'uu dhiifte? Silaa ani meetii saqilii kudhanii
fi sabbata jagnummaa sin badhaasa turee" jedhe.
12 Namichi sun garuu, akkana jedhee deebise; "Utuu saqiliin kuma tokko harka
kootti naaf safaramee iyyuu ani ilma mootiitti harka koo ol hin fudhadhu. Mootichi
utuu nu dhageenyuu si'i, Abiishaayii fi Itaayiin, 'Anaaf jedhaatii Abesaaloom
dargaggeessicha eegaa' jedhee ajajeera. 13 Karaa biraa immoo utuu ani kutadhee
lubbuu isaa balleessee, sababii wanti mooticha duraa dhokatu tokko iyyuu hin jirreef
ati mataan kee iyyuu natti hin dhi'aattu ture."
14 Yoo'aabis, "Kana booddee ani haala kanaan si wajjin yeroo balleessuu hin qabu"
jedhe. Kanaafuu ankaasee sadii harkatti qabatee utuma Abesaaloom muka qilxuutti
rarra'ee lubbuun jiruu garaa isaatti dire. 15 Warri Yoo'aabiif mi'a lolaa baatan
kurnanis itti naanna'anii Abesaaloomin dha'anii ajjeesan.
16 Kana irratti Yoo'aab malakata afuufe; loltoonnis sababii inni isaan dhowweef
Israa'elin ari'uu ni dhiisan. 17 Isaanis reeffa Abesaaloom fuudhanii bosona keessatti
boolla guddaa tokkotti darbatanii dhagaa gurguddaa isa irra tuulan. Yeroo kanatti
Israa'eloonni hundi gara mana isaaniitti baqatan.
18 Abesaaloom yeroo lubbuun turetti, "Ani ilma maqaa koo waamsisu hin qabu"
jedhee iddoo Sulula Mootii jedhamutti yaadannoo ofiitiif soodduu dhaabbate.
Soodduu sanas maqaa ofii isaatiin moggaase. Hamma har'aatti illee soodduun sun
Soodduu Abesaaloom jedhamee waamama.

### *Gadda Daawit*

19 Ahiima'az ilmi Zaadoq, "Ani dhaqee akka Waaqayyo harka diinota isaa jalaa isa
baase mootichatti nan hima" jedhe.
20 Yoo'aab immoo, "Namni har'a dhaqee himu si'ii miti; sababii ilmi mootichaa
du'eef ati yeroo biraa dhaqxee itti himta; garuu har'a waan kana gochuu hin qabdu"
jedheen.
21 Ergasiis Yoo'aab Kuushiidhaan, "Dhaqiitii waan argite mootichatti himi" jedhe.
Kuushiinis fuula Yoo'aab duratti gad jedhee harka fuudhee fiigaa qajeele.
22 Ahiima'az ilmi Zaadoq ammas Yoo'aabiin, "Wanni fedhe haa dhufu; maaloo anis
Kuushii faana nan fiiga" jedhe.
Yoo'aab garuu, "Yaa ilma ko, ati maaliif dhaquu barbaadda? Ati oduu badhaasa
siif kennisiisu tokko iyyuu hin qabdu" jedheen.
23 Inni immoo, "Wanni fedhe haa dhufu; ani fiiguu nan barbaada" jedhe.
Kanaafuu Yoo'aab, "Fiigi!" jedheen. Ergasii Ahiima'az karaa dirreetiin fiigee
Kuushii bira darbe.

24 Adoo Daawit karra alaatii fi kan keessaa gidduu taa'ee jiruu eegduun karaa
dhaaba gubbaa manaatiin karaatti ol ba'e. Innis achi ilaalee nama kophaa isaa fiigu
tokko arge. 25 Eegduun sunis mooticha waamee waan kana itti hime.
Mootichis, "Inni yoo kophaa isaa ta'e, oduu gaarii fiduu qaba" jedhe. Namichi sunis
dhi'aachaa dhufe.
26 Ergasiis eegduun sun utuu namni biraa fiiguu argee eegduu karraa waamee,
"Kunoo namni biraa tokko kophaa isaa fiigaa jira!" jedheen.
Mootichis, "Innis oduu gaarii fiduu qaba" jedhe.
27 Eegduun sunis, "Inni jalqabaa waan akka Ahiima'az ilma Zaadoqitti fiigu natti
fakkaata" jedhe.
Mootichi immoo, "Inni nama gaarii dha; oduu gaarii fidee dhufa" jedhe.
28 Ahiima'az mooticha waamee, "Wanni hundinuu gaarii dha" jedhe; fuula
moootichaa durattis addaan lafatti gombifamee, "Waaqayyo Waaqni kee galata haa
argatu; inni warra gooftaa koo mootichatti harka isaanii ol fudhatan dabarsee
kenneeraatii" jedhe.
29 Mootichi immoo, "Abesaaloom dargaggeessichi jalaa ba'eeraa?" jedhee gaafate.
Ahiima'azis, "Yeroo Yoo'aab garbicha mootichaatii fi ana garbicha kee erguuf
ka'etti raafama guddaatu ture. Garuu wanni sun maal akka ta'e ani hin beeku"
jedhee deebise.
30 Mootichis, "As hiiqii dhaabadhu" jedhe. Kanaafuu inni achi hiiqee dhaabate.
31 Ergasiis Kuushiin dhufee, "Gooftaa koo yaa mootii, oduu gammachiisaa dhaga'i!
Waaqayyo har'a warra sitti ka'an hunda jalaa si baaseera" jedhe.
32 Mootichis Kuushiidhaan, "Abesaaloom dargaggeessichi jalaa ba'eeraa?" jedhee
gaafate.
Kuushiinis, "Diinonni gooftaa koo mootichaatii fi warri si miidhuuf sitti ka'an hundi
akkuma dargaggeessa sanaa haa ta'an" jedhee deebise.
33 Mootichi ni hollate. Kutaa manaa kan karra duraa gubbaattis ol ba'ee boo'e.
Yommuu ol ba'uttis, "Yaa ilma koo Abesaaloom! Ilma ko, ilma koo Abesaaloom! Utuu
qooda kee ani du'ee jiraadhee; yaa Abesaaloom ilma ko, yaa ilma ko!" jedhe.

# 19

1 Yoo'aabittis, "Daawit mootichi Abesaaloomiif boo'uu fi gadduutti jira" jedhamee
himame. 2 Sababii guutummaan loltootaa oduu, "Mootichi ilma isaatiif gaddaa
jira" jedhu dhaga'eef mo'ichi gaafa sanaa gaddatti geeddarame. 3 Gaafa sana sabni
hundis akkuma loltoota mo'atamanii qaana'uudhaan baqatanii magaalaa seenaniitti
qaana'ee magaalaa seene. 4 Mootichis fuula isaa haguuggatee, "Yaa ilma koo
Abesaaloom! Yaa Abesaaloom ilma ko, yaa ilma koo!" jedhee sagalee ol fudhatee
boo'e.
5 Yoo'aab gara mootichaa mana ol seenee akkana jedhe; "Ati har'a fuula namoota
kee kanneen lubbuu kee, lubbuu ilmaan keetiitii fi intallan keetii, lubbuu niitota
keetiitii fi saajjatoowwan keetii oolchan sana hundaa qaaniidhaan haguugdeerta.
6 Ati warra si jibban jaallattee warra si jaallatan immoo jibbiteerta. Ati akka ajajjoota
loltoota keetiitii fi namoota isaanii wayittuu hin hedne har'a mirkaneessiteerta. Har'a
utuu hundi keenya duunee Abesaaloom jiraatee ati akka gammaddu ani nan arga.
7 Amma gad ba'iitii namoota kee jajjabeessi. Yoo ati gad ba'uu baatte akka edana
namni tokko iyyuu si biratti hin hafne ani maqaa Waaqayyootiin nan kakadha. Kun
immoo rakkina ati ijoollummaa keetii jalqabdee hamma ammaatti keessa dabarte
hunda caalaa hammaata."
8 Kanaafuu mootichi ka'ee karra dura taa'e. Namoonni hundinuus yommuu,
"Mootichi karra dura taa'ee jira" jedhamee itti himametti isa bira dhufan.
Yeroo sanatti Israa'eloonni hundi gara mana isaaniitti baqatanii turan.

### *Daawit Yerusaalemitti Deebi’e*

9 Guutummaa gosoota Israa’el keessatti namoonni hundinuu akkana jedhanii wal
falmaa turan; “Mootichi harka diinota keenyaa jalaa nu baaseera; namni harka
Filisxeemotaa jalaa nu baases isuma. Amma garuu inni sababii Abesaaloomiitiif
biyyaa baqateera; 10 Abesaaloom inni nu akka inni bulchaa keenya ta’uuf jennee
dibne sun immoo lola irratti du’eera. Kanaafuu waa’ee mooticha as deebisuu irratti
isin maaliif waan tokko hin mari’anne?”

11 Daawit mootichis akkana jedhee ergaa kana Zaadoqii fi Abiyaataar lubootatti
erge; “Akkana jedhaatii maanguddoota Yihuudaa gaafadhaa; ‘Wanni guutummaa
Israa’el keessatti odeeffamaa jiru gurra mootichaa qaqqabeeraatii isin maaliif
mooticha mana mootummaa isaatti deebisuu irratti duubatti haftani? 12 Isin
obboloota koo, foon kootii fi dhiiga koo ti; yoos mooticha fiduu irratti maaliif duubatti
harkifattan ree?’ 13 Amaasaanis, ‘Ati foonii fi dhiiga koo mitii? Yoo ani ammaa
jalqabee iddoo Yoo’aab ajajaa loltoota koo si gochuu baadhe, Waaqni waan hamaa
natti haa fidu; waan caalu illee natti haa fidu.’ ”

14 Mootichis akkuma garaa nama tokkootti garaa namoota Yihuudaa hundaa
booji’e. Isaanis, “Namoota kee hunda wajjin deebi’i” jedhanii mootichatti ergan.
15 Mootichis biyyatti deebi’ee hamma Yordaanositti dhufe.

Namoonni Yihuudaas mooticha simatanii Yordaanosin ceesisanii fiduuf hamma
Gilgaalitti dhufan. 16 Shime’iin namichi Bahuuriim ilmi Geeraa kan gosa Beniyaam
sunis mooticha simachuuf namoota Yihuudaa wajjin dafee gad bu’e. 17 Isa wajjinis
Beniyaamota kuma tokko akkasumas Ziibaa tajaajilaa maatii Saa’ol, ilmaan isaa
kudha shananii fi hojjettoota isaa digdamatu ture. Isaanis mooticha dursanii
Yordaanosin ce’an. 18 Isaanis maatii mootichaa simachuu fi waan inni barbaadu
isaaf gochuuf malkaa ce’an.

Shime’iin ilmi Geeraa yommuu Yordaanosin ce’etti mooticha duratti kufee
19 akkana isaan jedhe; “Gooftaan koo balleessaa natti hin herregin. Balleessaa
garbichi kee yeroo ati gooftaan koo mootichi Yerusaalemii baatetti hojjete garaatti
hin qabatin. Mootichi waan sana yaada isaa keessaa haa baasu. 20 Ani garbichi kee
cubbuu hojjechuu koo beekaatii; har’a garuu ani mana Yoosef hunda keessaa gooftaa
koo mooticha simachuuf nama jalqabaa ta’ee dhufeera.”

21 Abiishaayi ilmi Zeruuyaas, “Shime’iin sababii nama WAAQAYYO dibe abaareef
amma du’uun isaaf hin maluu?” jedhe.

22 Daawit immoo deebisee, “Yaa ilmaan Zeruuyaa anii fi isin maal wal irraa qabna?
Isin yeroo ammaa diinota natti taataniirtu! Har’a namni tokko iyyuu Israa’el keessatti
ajjeefamuu qabaa? Ani guyyaa har’aa Israa’el irratti mootii ta’uu koo hin beekuu?”
jedhe. 23 Kanaafuu mootichi Shime’iidhaan, “Ati du’uu hin qabdu” jedhe. Kanas
kakaadhaan mirkaneesseef.

24 Mefiibooshet akaakayyuun Saa’olis mooticha simachuuf gad bu’e. Inni gaafa
mootichi Yerusaalemii ba’ee jalqabee hamma mootichi deebi’utti miilla isaatiif
eegumsa barbaachisaa hin goone yookaan areeda hin haaddanne yookaan uffata
isaa hin miiccanne ture. 25 Yeroo inni mooticha simachuuf Yerusaalemii dhufettis
mootichi, “Mefiibooshet, ati maaliif na wajjin hin deemne?” jedhee isa gaafate.

26 Innis akkana jedhee deebise; “Yaa gooftaa koo mooticha, ani garbichi kee waanan
naafa ta’eef, ‘Akka ani yaabbadhee mooticha faana deemuu danda’uuf harreen
koo naaf haa fe’amu’ jedheen ture. Ziibaan tajaajilaan koo garuu na gowwoomse.
27 Inni gooftaa koo mooticha durattis garbicha kee maqaa balleesseera; gooftaan koo
mootichi akkuma ergamaa Waaqayyoo ti; kanaafuu waan barbaadde hunda godhi.
28 Silaa wanni maatiin abbaa kootii hundinuu mooticha irraa argachuu malan du’a
qofa ture. Ati garuu ana garbicha kee warra maaddii kee irraa nyaatan wajjin

teessifte. Kana caalaa wanni ani akka naa godhamuuf mooticha gaafachuuf mirga
qabu maalii?"
29 Mootichis, "Maaliif dubbii dheeressita? Ani akka atii fi Ziibaan lafa hunda gargar
qooddattan ajajeera" jedheen.
30 Mefiibooshet immoo mootichaan, "Amma erga gooftaan koo mootichi nagaan
deebi'ee inni waan hunda haa fudhatu" jedhe.
31 Namichi gosa Gili'aad kan Barzilaay jedhamu tokkos Rogeliimii gad bu'e; innis
mooticha geggeessuuf isa wajjin Yordaanos ce'e. 32 Barzilaayiin jaarsa dulloomaa
waggaa saddeettama ture. Innis waan nama sooressa tureef yeroo mootichi
Mahanayiim jiraatetti waan inni nyaatu dhi'eessaafii ture. 33 Mootichis Barzilaayiin,
"Gamatti na wajjin ce'iitii na wajjin Yerusaalem jiraadhu; anis sin sooraa" jedhe.
34 Barzilaayiin garuu mootichaan akkana jedhe; "Ani si'achi waggaa hammam
jiraachuufan mooticha wajjin Yerusaalem dhaqa? 35 Ani yeroo ammaa waggaa
saddeettama guuteera. Ani waan gaarii fi waan hamaa addaan baasuu nan danda'aa?
Garbichi kee mi'aa nyaataa fi dhugaatii beekaa? Ammas sagalee dhiirotaatii fi
dubartoota sirbanii dhaga'uu danda'aa? Yoos garbichi kee maaliif gooftaa koo
mootichatti ba'aa dabalamaa ta'a ree? 36 Garbichi kee mooticha wajjin Yordaanos
ce'ee xinnoo ishee ni deema; mootichi garuu maaliif haala kanaan galata naaf
deebisa? 37 Akka ani yoon du'e magaaluma kootti awwaala abbaa fi haadha koo
biratti awwaalamuuf garbicha kee dhiisi haa deebi'u. Garbichi kee Kimhaam garuu
kunoo ti. Inni gooftaa koo mooticha wajjin haa ce'u. Atis waan jaallattu kam iyyuu
isaaf godhi."
38 Mootichis, "Kimhaam na wajjin ni ce'a; anis waan ati jaallattu kam iyyuu isaaf
nan godha; waan ati narraa barbaaddu kam iyyuus siif nan godha" jedhe.
39 Akkasiin namoonni hundinuu Yordaanosin ce'an; mootichis ni ce'e. Mootichis
Barzilaayii dhungatee eebbise; Barzilaayiinis gara mana isaatti deebi'e.
40 Yommuu mootichi gara Gilgaalitti darbetti Kimhaam isa wajjin deeme. Loltoonni
Yihuudaa hundinuu fi walakkaan loltoota Israa'el mooticha ceesisan.
41 Yommuu suma namoonni Israa'el hundinuu gara mootichaa dhufanii, "Ob-
boloonni keenya warri Yihuudaa maaliif nu dhoksanii mootichaa fi maatii isaa,
duukaa buutota isa wajjin Yordaanosin ceesisanii fidani?" jedhaniin.
42 Namoonni Yihuudaa hundis deebisanii namoota Israa'eliin, "Nu waan mootichi
fira dhiigaa nuuf ta'eef waan kana goone. Isin waa'ee waan kanaa maaliif aartu? Nu
waan mootichaa keessaa tokko illee nyaanneerraa? Waan tokko illees ofii keenyaaf
fudhanneerraa?" jedhan.
43 Kana irratti namoonni Israa'el namoota Yihuudaatiin, "Nu mooticha irraa qooda
harka kudhan qabna; kana malees nu isin caalaa Daawit irraa mirga qabna. Yoos
isin maaliif akkas nu tuffattu ree? Akka mootiin keenya nuuf deebi'uuf kan duraan
dursinee gaafanne nu mitii?" jedhanii deebisan.
Garuu deebiin namoonni Yihuudaa deebisan kan Israa'elootaa irra jabaa ture.

# 20

### *Saabe'een Daawititti Finciluu Isaa*

1 Yeroo kanatti namichi dabaan Shebaa jedhamu, ilmi Biikrii namicha gosa
Beniyaam tokko achi ture. Innis malakata afuufee sagalee guddaan akkana jedhee
iyye;
"Nu Daawit irraa qooda hin qabnu;
ilma Isseey irraa dhaala tokko illee hin qabnu!
Yaa Israa'el, tokkoon tokkoon namaa gara dunkaana isaatti!"

2 Kanaafuu namoonni Israa'el hundinuu Shebaa ilma Biikrii sana duukaa bu'uuf
jedhanii Daawit irraa garagalan. Namoonni Yihuudaa garuu Yordaanosii hamma
Yerusaalemitti mootii isaanii wajjin deeman.
3 Daawitis yommuu masaraa isaa kan Yerusaalem keessaatti deebi'etti, saajja-
toowwan isaa kurnan akka isaan masaraa eeganiif dhiisee biraa deeme sana fuudhee
mana tokkotti galchee akka isaan eegaman godhe. Inni waan isaan nyaatan kenneef
malee isaan wajjin hin ciifne. Isaanis hamma gaafa du'aniitti akka niitota dhirsoonni
irraa du'aniitti kophaa jiraatan.
4 Ergasiis mootichi Amaasaadhaan, "Namoota Yihuudaa guyyaa sadii keessatti
walitti naa qabi; atis asitti argami" jedhe. 5 Amaasaan garuu yommuu namoota
Yihuudaa waamuu deemetti yeroo mootichi isaaf kenne caalaa ture.
6 Daawitis Abiishaayidhaan, "Shebaan ilmi Biikrii miidhaa Abesaaloom nu miidhe
sana caalaa nu miidha. Ati namoota gooftaa keetii fudhadhuutii isa ari'i; yoo kanaa
achii inni magaalaa da'annoo qabu argatee nu jalaa miliqa" jedhe. 7 Kanaafuu
namoonni Yoo'aabii fi Kereetonni, Pheletonnii fi namoonni waraanaa jajjaboon hundi
ajaja Abiishaayi jalatti hiriiranii qajeelan. Isaanis Yerusaalemii ka'anii Shebaa ilma
Biikrii sana ari'uuf qajeelan.
8 Utuma isaan Gibe'oon keessa kattaa guddaa bira jiranuu Amaasaan isaan
simachuuf dhufe. Yoo'aab uffata isaa kan waraanaa uffate; qalqalli goraadeen isaa
keessa jirus sabbataan mudhii isaatti hidhamee ture. Akkuma inni gara fuula duraatti
tarkaanfateenis goraadichi qalqala isaa keessaa lafa bu'e.
9 Yoo'aabis Amaasaan, "Yaa obboleessoo, akkam jirta?" jedhe. Kana irratti Yoo'aab
isa dhungachuuf harka isaa mirgaatiin hareeda Amesaay qabate. 10 Amesaay akka
Yoo'aab goraadee harkaa qabu hin hubanne ture; kanaafuu Yoo'aab goraadee sana
garaa isaatti dire; mar'umaan isaas lafatti jige. Amaasaanis utuu lammata hin
waraanamin du'e. Ergasii immoo Yoo'aabii fi obboleessi isaa Abiishaayi Shebaa ilma
Biikrii sana ari'an.
11 Namoota Yoo'aab keessaa inni tokko Amesaay bira dhaabatee, "Namni Yoo'aabin
jaallatu, kan garee Daawit ta'e hundi Yoo'aabin duukaa haa bu'u!" jedhe. 12 Yeroo
kanatti reeffi Amaasaa dhiigaan faalamee karaa irra ciisa ture; namichi tokkos akka
loltoonni hundi achi dhadhaabatan arge. Innis yommuu akka warri gara Amesaay
dhufan hundi dhadhaabatan argetti karaa irraa gara lafa qotiisaatti isa harkisee
wayyaa irra buuse. 13 Erga reeffi Amesaay karaa irraa kaafamee booddee namoonni
hundinuu Shebaa ilma Biikrii sana ari'uuf Yoo'aab faana qajeelan.
14 Saabe'eenis gosoota Israa'el hunda keessa darbee gara Abeel Beet Ma'aakaatii
fi gara biyya Beeriit hundaa dhaqe; namoonni Beeriitis walitti qabamanii isa
duukaa bu'an. 15 Loltoonni Yoo'aab wajjin turan hundinuus dhufanii Abeel Beet
Ma'aakaatti Saabe'ee marsan. Isaanis hamma karra magaalaa sanaatti naannessanii
biyyoo tuulan; yommuu dallaa magaalaa sanaa jigsuuf tumaa turanittis, 16 dubartiin
ogeettiin tokko magaalattiidhaa isaan waamtee, "Dhaga'aa! Dhaga'aa! Akka ani waa
isatti himuu danda'uuf Yoo'aab as haa dhufu itti himaa" jette. 17 Inni gara ishee
dhaqe; isheenis, "Ati Yoo'aabii?" jettee gaafatte.
Innis, "Ani isuma" jedhee deebise.
Isheen immoo, "Waan tajaajiltuun kee dubbattu dhaga'i" jette.
Innis, "Ani dhaga'aan jira."
18 Isheenis itti fuftee akkana jette; "Bara durii namoonni, 'Gara Abeel dhaqaa
gorsa gaafadhaa' jedhu ture; akkasiinis dubbiin ni dhuma ture. 19 Ani warra Israa'el
keessa nagaa fi amanamummaan jiraatan keessaa tokkoo dha. Ati magaalaa Israa'el
keessatti haadha taate tokko balleessuuf yaadaa jirta. Ati maaliif dhaala WAAQAYYOO
liqimsuu barbaadda?"

20 Yoo'aab immoo akkana jedhee deebise; "Wanni kun narraa haa fagaatu!
Magaalattii balleessuun yookaan liqimsuun narraa haa fagaatu! 21 Wanni kun akkana
miti. Namichi Shebaa jedhamu ilmi Biikrii kan biyya gaaraa Efreem sun mootiitti,
Daawititti harka isaa ol fudhateera. Namicha tokkicha kana dabarsaa kennaa; anis
magaalaa kana gad dhiisee nan ba'a."

Dubartiin sunis Yoo'aabiin, "Mataan namicha sanaa dallaa irraan gad siif darbatama" jette.

22 Ergasii dubartiin sun gorsa ishee kan ogummaan guutame sanaan namoota
hunda bira dhaqxe; isaanis mataa Shebaa ilma Biikrii sanaa kutanii Yoo'aabiif gad
darbatan. Kanaafuu inni malakata afuufe; namoonni isaa magaalattii dhiisanii
tokkoon tokkoon namaa mana ofii isaatti gale. Yoo'aab immoo gara Yerusaalem
mooticha biratti deebi'e.

23 Yoo'aab loltoota Israa'el hunda irratti,
Benaayyaa ilmi Yehooyaadaa immoo Kereetotaa fi Pheletota irratti ajajaa ta'e;
24 Adooraam namoota hojii humnaa hojjetan irratti muudame;
Yehooshaafaax ilmi Ahiiluud immoo galmeessaa ta'e;
25 Shewwaan barreessaa,
Zaadoqii fi Abiyaataar immoo luboota turan;
26 akkasumas Iiraas namichi gosa Yaa'iri sun luba Daawit ture.

# 21

*Haaloo Baafachuu Gibe'oonotaa*

1 Jabana Daawit keessa beelli waggaa sadii walitti aansee bu'e; kanaafuu Daawit
fuula WAAQAYYOO barbaade. WAAQAYYOS, "Sababii Saa'ol Gibe'oonota ajjeeseef isaa fi
mana isaa irra yakka dhiigaatu jira" jedhe.

2 Mootichis Gibe'oonota walitti qabee isaan wajjin haasa'e. Gibe'oononni hambaa
Amoorotaa turan malee ilmaan Israa'elootaa miti; Israa'eloonni akka isaan eegan
kakuu seenaniif; Saa'ol garuu hinaaffaa Israa'elii fi Yihuudaaf qabuun Gibe'oonota
balleessuu barbaadee ture. 3 Daawitis, "Ani maalin isiniif godha? Akka isin dhaala
WAAQAYYOO eebbiftaniif ani akkamittin araara buusuu danda'a?" jedhee Gibe'oonota
gaafate.

4 Gibe'oononni immoo, "Nu Saa'ol irraa meetii yookaan warqee gaafachuuf mirga
hin qabnu; yookaan akka namni tokko iyyuu Israa'el keessatti du'u gochuuf nu mirga
qabnaa?" jedhanii deebisaniif.

Daawitis, "Akka ani maal isiniif godhu barbaaddu?" jedhee gaafate.

5 Isaanis akkana jedhanii mootichaaf deebii kennan; "Nama akka nu diigamnuu
fi akka nu Israa'el keessattis iddoo tokko illee hin arganne nu godhe sana, 6 sanyii
isaa keessaa dhiirri torba nuuf haa kennaman; nus dhaqnee biyya Saa'ol namicha
WAAQAYYO filate sanaa, Gibe'aatti fuula WAAQAYYOO duratti isaan fannifnaa."

Kanaafuu mootichi, "Tole isiniifin kenna" jedhe.

7 Mootichi garuu sababii kakuu WAAQAYYOO kan Daawitii fi Yoonaataan ilma Saa'ol
gidduutti godhame sanaatiif jedhee Mefiibooshet ilma Yoonaataan ilma Saa'ol du'a
jalaa baase. 8 Mootichis Armoonii fi Mefiibooshet ilmaan Riixiphaan intalli Ayyaa
Saa'oliif deesse lamaanii fi ilmaan Meerob intalli Saa'ol Adrii'eel ilma Barzilaay
namicha gosa Mehoolaatiif deesse shanan geesse. 9 Innis dabarsee Gibe'oonotatti
isaan kenne. Jarris isaan ajjeesanii gaara gubbaatti fuula WAAQAYYOO duratti isaan
fannisan. Torbaan isaanii iyyuu walumaan dhuman; isaanis akkuma garbuun
haamamuu jalqabeen yeroo midhaan haamamutti guyyoota jalqabaatti ajjeefaman.

10 Riixiphaan intalli Ayyaa sun wayyaa gaddaa fudhattee kattaa irra afatte. Isheenis
yeroo midhaan itti haamamuu jalqabdee hamma bokkaan reeffa jara ajjeefamanii
sanatti samiidhaa roobutti akka guyyaa guyyaa allaattiin samii halkan immoo
bineensonni bosonaa reeffa sana tuqan hin eeyyamne. 11 Wanni Riixiphaan intalli
Ayyaa saajjatoon Saa'ol sun hojjette Daawititti himame; 12 innis dhaqee lafee Saa'olii
fi lafee ilma isaa Yoonaataan namoota Yaabeesh Gili'aad biraa fide. Isaan oobdii Beet
Shaan iddoo Filisxeemonni gaafa Gilbo'aatti Saa'olin ajjeesan itti jara fannisan sanaa
isaan hatanii turaniitii. 13 Daawitis lafee Saa'olii fi lafee Yoonaataan ilma Saa'ol achii
fide; lafeen warra ajjeefamanii fannifamaniis walitti qabame.

14 Isaanis lafee Saa'olii fi lafee ilma isaa Yoonaataan biyya Beniyaam keessatti, iddoo Zeelaa jedhamutti awwaala Qiish abbaa Saa'ol keessatti awwaalanii waan mootichi ajaje hunda godhan. Sana booddee Waaqni kadhannaa waa'ee biyyattiif dhi'aate ni dhaga'e.

### *Waraana Filisxeemotatti Baname*
*21:15-22 kwf – 1Sn 20:4-8*

15 Ammas Filisxeemotaa fi Israa'el gidduutti waraanni ni ka'e. Daawitis namoota
isaa wajjin Filisxeemota waraanuuf duule; innis akka malee dadhabe. 16 Namichi
gosa Raafaa kan Yishbii-Benoob jedhamu tokko eeboo naasii kan kiiloo giraamii
sadii fi walakkaa ulfaatuu fi goraadee haaraa hidhatee ture; innis Daawitin ajjeesuu
barbaade. 17 Abiishaayi ilmi Zeruuyaa garuu Daawitin baraaruu dhufe; namicha
Filisxeem sanas dha'ee ajjeese. Namoonni Daawitis, "Akka ibsaan Israa'el hin
dhaamneef ati si'achi nu wajjin waraana hin dhaqxu" jedhanii kakataniif.

18 Ergasii immoo lafa Goob jedhamutti Filisxeemota wajjin waraanni biraa ka'e. Yeroo sanattis Siibekaay namichi biyya Hushaa namicha Saaf jedhamu tokko sanyii Raafaa keessaa ajjeese.

19 Waraana biraa kan Filisxeemota wajjin Goobitti godhame keessatti immoo Elhaanaan ilmi Ya'iree Oregiim namichi biyya Beetlihem Gooliyaad namicha Gitii kan somaan eeboo isaa loosaa wayya dhooftuu ga'u sana ni ajjeese.

20 Ammas waraana Gaatitti godhame kan biraa keessatti namicha hamma wayii
ga'u kan tokkoo tokkoo harka isaa irraa quboota ja'a ja'a akkasumas tokkoo tokkoo
miilla isaa irraa quboota ja'a ja'a walumatti quboota digdamii afur qabu tokkotu ture;
innis sanyii Raafaa keessaa dhalate. 21 Yommuu inni Israa'elin tuttuqettis, Yoonaataan
ilmi Shime'ii obboleessi Daawit isa ajjeese.

22 Jarri afran kunneen sanyiiwwan Raafaa warra Gaati keessa turanii dha. Isaanis harka Daawitii fi harka namoota isaatiin dhuman.

# 22

### *Faarfannaa Galataa Kan Daawit*
*22:1-51 kwf – Far 18:1-50*

1 Daawit yommuu WAAQAYYO harka diinota isaa hundaa fi harka Saa'ol jalaa isa
baasetti dubbii Faarfannaa kana WAAQAYYOOF faarfate. 2 Innis akkana jedhe:
"WAAQAYYO kattaa koo ti; da'annoo kootii fi oolchaa koo ti;
3 Waaqni koo kattaa koo kan ani kooluu itti galuu dha;
inni gaachana kootii fi gaanfa fayyina koo ti.
Inni da'annoo koo cimaa, kooluu kootii fi fayyisaa koo ti;
ati namoota humnaan namatti ka'an jalaas na baasta.

4 "Ani WAAQAYYO galanni isaaf malu sana nan waammadha;
diinota koo jalaas nan baraarama.
5 Dambaliin du'aa na marseera;

lolaan badiisaas na liqimseera.
6 Funyoon sii’ool natti marame;
kiyyoon du’aas natti dhufe.

7 “Ani dhiphina koo keessatti WAAQAYYOON nan waammadhe;
Waaqa kootti nan iyyadhe.
Innis mana qulqullummaa isaatii sagalee koo dhaga’e;
iyyi koos gurra isaa seene.
8 Lafti ni hollatte; ni sochootes;
hundeewwan samiiwwanii ni raafaman;
sababii inni dheekkameefis isaan ni hollatan.
9 Aarri funyaan isaatii ol ba’e;
ibiddi waa barbadeessu afaan isaatii ba’e;
cileen boba’us afaan isaatii ba’e.
10 Inni samiiwwan tarsaasee gad bu’e;
duumessoonni gurraachis miilla isaa jala turan.
11 Inni kiirubeelin yaabbatee barrise;
qoochoo qilleensaatiinis ol ba’e.
12 Inni dukkana, duumessa samii
kan bokkaadhaan dukkanaa’e immoo godoo isaa godhate.
13 Ifa fuula isaa keessaas
bakakkaan balaqqisee ba’e.
14 WAAQAYYO samiidhaa ni qaqawweessa’e;
sagaleen Waaqa Waan Hundaa Oliis ni dhaga’ame.
15 Inni xiyya isaa darbatee diinota bittinneesse;
bakakkaas gad dhiisee isaan fixe.
16 Dheekkamsa, WAAQAYYOOTIIN
humna hafuura funyaan isaatii ba’uutiinis
sululawwan galaanaa ifatti baafaman;
hundeewwan lafaas qullaa hafan.

17 “Inni ol gubbaadhaa gad hiixatee na qabe;
bishaanota gad fagoo keessaas na baase.
18 Inni diina koo isa jabaa jalaa, amajaajota koo
warra akka malee natti ciman jalaas na baase.
19 Isaan guyyaa rakkina kootti natti dhufan;
WAAQAYYO garuu gargaarsa koo ture.
20 Inni iddoo bal’aatti na baase;
waan natti gammadeefis na oolche.

21 “WAAQAYYO akkuma qajeelummaa kootiitti naa kenneera;
akkuma qulqullina harka koottis na badhaase.
22 Ani karaa WAAQAYYOO eegeeraatii;
Waaqa koo irraa garagalee hammina hin hojjenne.
23 Seerri isaa hundinuu fuula koo dura jira;
anis ajaja isaa irraa hin jal’anne.
24 Ani fuula isaa duratti mudaa hin qabu ture;
cubbuu irraas of eeggadheera.
25 WAAQAYYO akkuma qajeelumma kootti,
akkuma ani fuula isaa duratti qulqulluu ta’ettis na badhaaseera.

26 "Ati nama amanamaatti amanamummaa kee argisiifta;
nama mudaa hin qabnettis kan mudaa hin qabne taata;
27 nama qulqulluutti qulqulluu taata;
nama jal'aatti immoo jal'aa taata.
28 Ati warra gad of qaban ni oolchita;
warra of tuulan immoo gad deebisuuf iji kee isaan ilaala.
29 Yaa WAAQAYYO, ati ibsaa koo ti;
WAAQAYYO dukkana koo ifatti ni geeddara.
30 Ani gargaarsa keetiin loltoota dhiibbadhee nan deema;
Waaqa kootiinis dallaa utaaluu nan danda'a.

31 "Waaqa kana, karaan isaa mudaa hin qabu;
dubbiin WAAQAYYOO hir'ina hin qabu.
Warra isatti kooluu galan hundaaf inni gaachana ta'a.
32 WAAQAYYO malee Waaqni eenyu?
Waaqa keenya malees Kattaan eenyu?
33 Kan humna na hidhachiisu,
kan akka karaan koos nagaa ta'u godhu Waaqa.
34 Inni miilla koo akka miilla borofaa godha;
iddoo ol dheeraa irras na dhaabachiisa.
35 Inni harka koo waraanaaf leenjisa;
irreen koos iddaa naasii dabsuu ni danda'a.
36 Ati gargaarsa kee kan nama fayyisu gaachana naaf goota;
gargaarsi kees nama guddaa na godhe.
37 Akka koomeen koo hin mucucaanneef,
miilla kootiif daandii bal'ifteerta.

38 "Ani diinota koo ari'ee nan balleesse;
hamma isaan barbadaa'anittis ani duubatti hin deebine.
39 Ani guutumaan guutuutti isaan nan barbadeesse;
isaan deebi'anii ka'uu hin danda'an;
isaanis miilla koo jalatti ni kufan.
40 Ati lolaaf humna na hidhachiifte;
amajaajota koos fuula koo duratti gad deebifte.
41 Akka diinonni koo dugda duubatti deebi'anii baqatan gooteerta;
anis amajaajota koo barbadeesseera.
42 Isaan gargaarsaaf iyyan; garuu kan isaan oolchu tokko iyyuu hin turre;
gara WAAQAYYOOTTIS ni iyyatan; inni garuu deebii hin kennineef.
43 Anis akkuma awwaara lafaatti isaan nan daake;
bulleessees akkuma dhoqqee daandii irraatti isaan dhidhiite.

44 "Ati lola namootaa jalaa na baafteerta;
mataa sabootaa gootee na jiraachifteerta.
Sabni ani hin beekne na tajaajila;
45 namoonni ormaa na sossobatan;
isaan akkuma waa'ee koo dhaga'aniin naaf ajajaman.
46 Isaan hundi abdii kutatan;
hollachaas da'annoo isaanii jabaa keessaa ba'an.

47 "WAAQAYYO jiraataa dha! Kattaan koo haa eebbifamu!
Waaqni koo, Kattaan, Fayyisaan koo ol ol haa jedhu!

48 Inni Waaqa haaloo naa baasu,
kan sabootas na jala galchu,
49 kan diinota koo jalaas bilisa na baasuu dha.
Ati amajaajota kootii ol na goota;
gooltota jalaas na baafte.
50 Kanaafuu yaa WAAQAYYO, ani saboota gidduutti sin leellisa;
faarfannaa galataa illee maqaa keetiif nan faarfadha.

51 "Inni mo'annaawwan gurguddaa mootii isaatiif ni kenna;
dibamaa isaa Daawitii fi sanyii isaatiif,
araara bara baraa ni argisiisa."

# 23

*Dubbii Daawit Kan Dhumaa*

1 Dubbiin Daawit dhuma irratti dubbate kanaa dha:
"Himanni Daawit ilmi Isseey,
himanni nama Waaqni Waan Hundaa Olii, ol ol isa qabe,
nama Waaqni Yaaqoob isa dibe
faarfataan Israa'el jaallatamaan sun akkana jedhe:

2 "Hafuurri WAAQAYYOO karaa kootiin dubbateera;
dubbiin isaas arraba koo irra ture.
3 Waaqni Israa'el dubbateera;
Kattaan Israa'el akkana naan jedhe:
'Namni qajeelummaan saba bulchu,
kan sodaa Waaqaatiin bulchu,
4 inni akka ifa biiftuu ganamaa
kan iddoo duumessi hin jirretti ba'uu,
akkuma ifa aduu kan erga bokkaan caamee booddee
marga biqilchuu ti.'

5 "Manni koo Waaqa duratti qajeelaa mitii?
Inni kakuu bara baraa na wajjin seenee
isas qajeelchee karaa hundaan ni eega mitii?
Isatu fayyina koo fiixaan baasee
fedhii koo hundas naaf guuta mitii?
6 Namoonni hamoon hundinuu garuu
akkuma qoraattii harkaan walitti hin qabamneetti gatamu.
7 Namni qoraattii tuqu kam iyyuu mi'a sibiilaa
yookaan somaa eeboo qabata;
qoraattiin sunis lafuma jirutti gubama."

*Namoota Daawit Jajjaboo*
*23:8-39 kwf – 1Sn 11:10-41*

8 Maqaan namoota Daawit warra jajjaboo kanaa dha:
Yosheeb-Bashebet namichi Tahikmooni hoogganaa sadanii ture; innis lola tokko irratti eeboo mirmirsee namoota dhibba saddeet fixe.
9 Kan isatti aanu immoo Ele'aazaar ilma Doodoo namicha gosa Ahoo'aa ture;
innis yeroo Filisxeemota lolaaf achitti walitti qabamanii turan sana waraanuuf
kutatanitti, namoota jajjaboo Daawit wajjin turan sadan keessaa tokko ture. Ergasii
namoonni Israa'el booddeetti deebi'an; 10 inni garuu utuu lafa dhaabatee turee hin

socho'in hamma harki isaa dadhabee goraadee isaatti gogutti Filisxeemota ni rukute. WAAQAYYO gaafas mo'annoo guddaa kenne. Loltoonnis warra du'an irraa hiikachuu qofaaf gara Ele'aazaaritti deebi'an.
11 Isatti aanees Saamaa ilma Aagee namicha gosa Haraaraatu ture. Yommuu Filisxeemonni iddoo Leehi jedhamutti lafa qotiisaa kan misiraan guutame tokko biratti walitti qabamanitti loltoonni Israa'el isaan duraa baqatan. 12 Saamaan garuu
lafa qotiisaa walakkaatti iddoo qabatee ture. Innis irraa ittisuudhaan Filisxeemota fixe; WAAQAYYOs mo'annaa guddaa kenne.
13 Yeroo midhaan haammamutti utuu loltoonni Filisxeemotaa Sulula Refaayim keessatti walitti qabamanii jiranuu, hangafoota soddomman sana keessaa namoonni sadii gara holqa Adulaamitti gara Daawit gad bu'an. 14 Yeroo sanatti Daawit
da'annoo cimaa keessa ture; loltoonni Filisxeem immoo Beetlihem turan. 15 Daawitis
Dheebotee, "Utuu namni tokko boolla bishaanii kan karra Beetlihem bira jiru keessaa bishaan dhugaatii naa fidee hoo!" jedhe. 16 Kanaafuu namoonni jajjaboon sadan
sun qubata Filisxeemotaa keessaan darbanii boolla bishaanii kan karra Beetlihem bira jiru keessaa bishaan waraabanii Daawitiif fidan. Inni garuu dhuguu ni dide; qooda kanaa bishaan sana fuula WAAQAYYOO duratti dhangalaase. 17 Innis, "Yaa
WAAQAYYOO, waan kana gochuun narraa haa fagaatu! Bishaan kun dhiiga namoota lubbuu ofii isaaniitti kutatanii deemanii mitii?" jedhe. Kanaafuu Daawit bishaan sana hin dhugne.
Egaa wanni namoonni jajjaboon sadan sun hojjetan kana ture.
18 Abiishaayi ilmi Zeruuyaa obboleessi Yoo'aab hoogganaa sadan isaanii ture. Innis namoota dhibba sadiitti eeboo isaa ol kaafatee isaan fixe; akkasiin innis akkuma namoota sadan sanaa beekamaa ta'e. 19 Abiishaayin warra sadan caalaa ulfina hin
argannee ree? Inni yoo isaan keessaa tokko ta'uu baate iyyuu ajajaa isaanii ta'e.
20 Benaayaa ilmi Yehooyaadaa loltuun cimaan biyya Qabzi'eel sunis loltuu mo'annaa gurguddaa argamsiise ture. Innis loltoota Mo'aab kanneen akka malee jajjaboo ta'an lama ajjeese. Gaafa cabbiin roobe tokkos boolla keessa seenee leenca
ajjeese. 21 Inni namicha biyya Gibxi guddicha tokko illee ni ajjeese. Namichi Gibxi sun eeboo harkaa qabaatu iyyuu Benaayaa bokkuudhaan isatti ba'e; innis harka namicha Gibxi sanaatii eeboo butatee eeboodhuma isaatiin isa ajjeese. 22 Hojiiwwan
gootummaa kanneen Benaayaa ilmi Yehooyaadaa hojjete kana fa'i; innis akkuma namoota jajjaboo sadan sanaa nama beekamaa ture. 23 Inni namoota soddomman
sana keessaa nama kam iyyuu caalaa ulfina guddaa argate; garuu namoota Sadan sanatti hin dabalamne. Daawitis ajajaa eegdota ofii isaa isa godhate.

24 Jara soddomman sana keessattis:

Asaaheel obboleessa Yoo'aab,
Elhaanaan ilma Doodoo namicha Beetlihem,
25 Shamaa namicha gosa Haroodaa,
Eliiqaa namicha gosa Haroodaa,
26 Heleez namicha Phaaltii,
Iiraa ilma Iqeesh nama Teqoo'aa,
27 Abii'ezer nama Anaatoot,
Mebunaay nama biyya Hushaa,
28 Zalmoon nama Ahoo'aa,
Maharaayi nama Netoofaa,
29 Heeled ilma Ba'anaa nama Netoofaa,
gosa Beniyaam keessaa Iitaayi ilma Riibaay namicha Gibe'aa,
30 Benaayaa nama Phiraatoon

Hidaay namicha sululoota Ga’aash,
31 Abii-Alboon namicha biyya Arbaa,
Azmaawet nama Barhuum,
32 Eliiyaabaa namicha Sha’alboon,
ilmaan Yaasheen,
Yoonaataan, 33 ilma Shamaa namicha Haraaraa sanaa,
Ahii’aam ilma Shaaraar namicha Aroodaa sanaa,
34 Eliiphelexi ilma Ahasbaayi nama Ma’akaat,
Eli’aam ilma Ahiitofel nama Giiloon,
35 Hezroo nama Qarmeloos,
Fa’araay nama biyya Arbii,
36 Yigi’aal ilma Naataan namicha Zoobaa,
Baanii gosa Gaad,
37 Zeleq namicha gosa Amoon,
Nahaaraay namicha gosa Bi’eeroot kan Yoo’aab ilma Zeruuyaatiif mi’a lolaa baatu sana ture;
38 Iiraas namicha gosa Yitraa,
Gaareeb namicha gosa Yitraa,
39 akkasumas Uuriyaa namicha Heet.

Walumatti namoota soddomii torba turan.

# 24

*Daawit Loltoota Lakkaa’e*
*24:1-17 kwf – 1Sn 21:1-17*

1 Aariin Waaqayyoo ammas Israa’elitti ka’ee Daawitiin, “Dhaqiitii Israa’elii fi
Yihuudaa lakkaa’i” jedhee isaanitti kakaase.

2 Kanaafuu mootichi Yoo’aabii fi ajajjoota waraanaa kanneen isa bira turaniin,
“Akka ani akka isaan hammam akka baay’atan beekuu danda’uuf gosoota Israa’el
kanneen Daanii hamma Bersheebaatti jiraatan hunda keessa deemaatii namoota
loluu danda’an galmeessaa” jedhe.

3 Yoo’aab garuu deebisee, “Waaqayyo Waaqni kee loltoota kee dachaa dhibba caalaa
haa baay’isu; iji gooftaa koo mootichaas waan kana haa argu. Garuu gooftaan koo
mootichi maaliif waan kana gochuu barbaade?” jedhe.

4 Ta’us dubbiin mootichaa Yoo’aabii fi ajajjoota loltootaa yaada geeddarachiise;
kanaafuu isaan fuula mootichaa duraa ba’anii namoota Israa’el kanneen loluu
danda’an galmeessuu deeman.

5 Isaanis erga Yordaanos ce’anii booddee gara kibba magaalaa sulula keessatti
argamuutiin Aro’eer bira qubatan; achii immoo Gaad keessa darbanii Ya’izeeritti
qajeelan. 6 Isaanis gara Gili’aadii fi Tabaason Adasaay, itti aansanii gara Daan yaa’anii
achii immoo naanna’anii Siidoonaa dhaqan. 7 Ergasii immoo gara Da’annoo Xiiroos,
gara magaalaawwan Hiiwotaatii fi Kana’aanotaa hundaa dhaqan. Dhuma irratti
immoo gara Bersheebaa kan kibba Yihuudaatti argamtu sanaa dhaqan.

8 Isaanis erga guutummaa biyyattii keessa naanna’anii booddee ji’a sagalii fi bultii
digdamaatti Yerusaalemitti deebi’an.

9 Yoo’aabis lakkoobsa namoota loluu danda’anii mootichatti hime; Israa’el keessa
namoota lolaaf ga’umsa qaban kanneen goraadee qabachuu danda’an kuma dhibba
saddeeti, Yihuudaa keessa immoo namoota kuma dhibba shanitu ture.

10 Daawit waan erga loltoota lakkaa’ee booddee balleessaan itti dhaga’ameef
Waaqayyoon, “Ani waan hojjedhe keessatti cubbuu guddaa hojjedheera. Yaa

WAAQAYYO, ani akka ati balleessaa garbicha keetii dhiiftuuf sin kadhadha. Ani hojii gowwummaa guddaa hojjedheeraa” jedhe.
11 Guyyaa itti aanutti utuu Daawit hirribaa hin ka’in ergaan WAAQAYYOO gara waa himaa Daawit gara Gaad raajichaa dhufe; ergaan sunis, 12 “Dhaqiitii Daawitiin,
‘WAAQAYYO akkana siin jedha: Ani filannoo sadii siifin kenna; akka ani isa sitti fiduuf isaan keessaa tokko filadhu’ jedhi” jedha.
13 Kanaafuu Gaad gara Daawit dhaqee, “Waggaa torba biyya kee irra beelli haa bu’uu? Yookaan diinonni kee ji’a sadiif si haa ari’anii? Yookaan dha’ichi guyyaa sadii biyya kee haa dha’uu? Egaa amma itti yaadiitii waan ani isa na erge sanaaf deebisu murteessi” jedheen.
14 Daawit immoo Gaadiin, “Ani akka malee dhiphadheera. Waan araarri isaa guddaa ta’eef nu harka WAAQAYYOO haa seennu; garuu akka ani harka namaa seenu hin godhin” jedhe.
15 Kanaafuu WAAQAYYO guyyaa itti aanu ganamaa jalqabee hamma guyyaan murtaa’e raawwatutti Israa’elitti dha’icha fide; Daanii hamma Bersheebaatti namoonni kumni torbaatamni ni dhuman.
16 Yeroo ergamaan Waaqayyoo Yerusaalemin balleessuuf harka isaa diriirfatetti WAAQAYYO sababii hubaatiin sun isa gaddisiiseef ergamaa isaa kan saba balleessuuf ture sanaan, “Ni ga’a! Harka kee deebifadhu” jedhe. Yeroo sana ergamaan WAAQAYYOO oobdii Arawunaa namicha gosa Yebuus sanaa bira ture.
17 Daawit yommuu ergamaa Waaqayyoo kan namoota ajjeesaa ture sana argetti, WAAQAYYOON, “Namni cubbuu fi balleessaa hojjete anuma. Isaan kunneen garuu hoolotaa dha. Isaan maal godhan? Harki kee anaa fi maatii koo irra haa bu’u” jedhe.

### *Daawit Iddoo aarsaa Tolche*
*24:18-25 kwf – 1Sn 21:18-26*

18 Gaafas Gaad gara Daawit dhaqee, “Ol ba’iitii oobdii Arawunaa namicha gosa Yebuus sanaa keessatti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF ijaari” jedheen.
19 Kanaafuu Daawit akkuma WAAQAYYO karaa Gaadiin isa ajajetti ol ba’e.
20 Arawunaan yommuu mil’atee mootichaa fi namoota isaa kanneen gara isaa dhufaa jiran argetti, gad ba’ee fuula mootichaa duratti addaan lafatti gombifamee sagade.
21 Arawunaanis, “Gooftaan koo mootichi maaliif gara garbicha isaa dhufe?” jedhe.
Daawit immoo, “Ani akka dha’ichi saba irra bu’e kun dhaabatuuf, oobdii kee bitee isa irratti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF tolchuufin dhufe” jedhee deebise.
22 Arawunaanis Daawitiin akkana jedhe; “Gooftaan koo mootichi waan isatti tolu kam iyyuu fudhatee haa dhi’eessu. Aarsaa gubamuuf sangoonni kunoo ti; qoraaniif immoo mi’i ittiin midhaan dha’amuu fi waanjoon sangaa as jira.
23 Yaa mootii, Arawunaan waan kana hunda mootichaaf ni kenna.” Akkasumas Arawunaan, “WAAQAYYO Waaqni kee siif haa fudhatu” isaan jedhe.
24 Mootichi garuu, “Akkas miti; ani gatiidhaan sirraa bituu na barbaachisa. Ani waan gatii itti hin baasin WAAQAYYO Waaqa kootiif aarsaa gubamu godhee hin dhi’eessu” jedhee Arawunaaf deebise.
Kanaafuu Daawit oobdichaa fi sangoota sana meetii saqilii shantamaan bite.
25 Daawitis achitti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF tolchee aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa dhi’eesse. WAAQAYYOS kadhannaa waa’ee biyyattiif dhi’aateef deebii kenne; dha’ichis Israa’el irraa ni deebi’e.

# Kitaaba Moototaa Tokkoffaa

*Adooniyaa Mootii Ta’uu Yaale*

1 Daawit Mootichi yeroo jaaree dulloometti yoo uffata itti tuulan illee dhagni
isaa hin ho’uuf ture. 2 Kanaafuu tajaajiltoonni isaa akkana jedhaniin; “Durba
qulqulluu mooticha tajaajiltuu fi kunuunsitu haa barbaannu. Isheenis gooftaa keenya
moottichatti bira ciiftee isa haa ho’iftu.”
3 Isaanis biyya Israa’el guutuu keessa durba miidhagduu barbaadanii intala
Abiishagi jedhamtu kan gosa Suunam tokko argatanii moottichatti fidan. 4 Intalattiin
akka malee miidhagduu turte; isheenis mooticha kunuunsite; ni tajaajiltes; mootichi
garuu ishee bira hin ga’u ture.
5 Yeroo sanatti Adooniyaan ilmi Hagiit kan isheen Daawitiif deesse, “Ani mootii
nan ta’a” jedhee ol ol of qabe. Kanaafuu inni gaariiwwanii fi fardeen akkasumas
namoota fuula isaa dura fiigan shantama qopheeffate. 6 Abbaan isaa immoo, “Ati
maaliif waan akkanaa goota?” jedhee gonkumaa isa ifatee hin beeku. Inni gurbaa
akka malee miidhagaa kan Abesaaloomitti aanee dhalatee dha.
7 Adooniyaanis Yoo’aab ilma Zeruuyaatii fi Abiyaataar lubichaan mari’ate; isaanis
isa deeggaran. 8 Garuu Zaadoq lubichi, Benaayaa ilmi Yehooyaadaa, Naataan raajichi,
Shime’iin, Ree’ii fi eegdonni Daawit filatamoon Adooniyaa wajjin hin turre.
9 Adooniyaanis dhagaa Zoohelet isa naannoo Een Roogeelitti argamu biratti hoolaa,
korma looniitii fi jabboota coccoomoo aarsaa dhi’eesse. Innis obboloota isaa ilmaan
mootichaa hunda, namoota Yihuudaa kanneen qondaaltota mootichaa ta’an hunda
ni waame; 10 garuu Naataan raajicha yookaan Benaayaa yookaan eegdota filatamoo
yookaan obboleessa isaa Solomoonin hin waamne.
11 Ergasii Naataan akkana jedhee Batisheebaa haadha Solomoon gaafate; “Ati akka
Adooniyaan ilmi Hagiitii, utuu gooftaan keenya Daawit quba hin qabaatin mootii ta’e
hin dhageenyee? 12 Mee amma kottu akka ati itti lubbuu keetii fi lubbuu ilma kee
Solomoon oolchuu dandeessu si gorsaa. 13 Amma gara Daawit mootichaa dhaqiitii,
‘Yaa gooftaa koo mootii, ati, “Ilmi kee Solomoon anatti aanee dhugumaan mootii
ni ta’a; teessoo koo irras ni taa’a” jettee ana garbittii keetiif hin kakannee? Yoos
Adooniyaan maaliif mootii ta’e?’ jedhiin. 14 Anis utuma ati achitti mooticha wajjin
dubbachaa jirtuu dhufee waan ati jettu sana siif mirkaneessa.”
15 Kanaafuu Batisheebaan kaatee mootii dulloome sana arguuf gara kutaa Abiishagi
intalli gosa Suunam sun itti isa kunuunsaa turteetti ol seente. 16 Batisheebaan gad
jettee fuula mootichaa duratti jilbeenfatte.
Mootichis, “Ati maal barbaadda?” jedhee gaafate.
17 Isheenis akkana jettee deebifteef; “Yaa gooftaa ko, ati mataan kee, ‘Ilmi kee Solo-
moon natti aanee mootii ni ta’a; teessoo koo irras ni taa’a’ jettee maqaa WAAQAYYO
Waaqa keetiitiin ana garbittii keetiif kakattee turte. 18 Amma garuu Adooniyaan
mootii ta’eera; ati gooftaan koo mootichis waan kana quba hin qabdu. 19 Inni kunoo
sangoota, jabboota coccoomoo fi hoolota baay’ee aarsaa dhi’eessee ilmaan mootii
hunda, Abiyaataar lubichaa fi Yoo’aab ajajaa loltootaa waameera; garuu garbicha
kee Solomoonin hin waamne. 20 Yaa gooftaa koo mooticha, si booddeedhaan eenyu
teessoo gooftaa koo mootichaa irra akka taa’u sirraa beekuudhaaf iji Israa’el hundi
sirra jira. 21 Yoo kanaa achii yeroo gooftaan koo mootichi abbootii isaa wajjin
boqotutti anii fi ilmi koo Solomoon akka nama balleessaa qabuutti ilaalamna.”

22 Utuma isheen amma illee mooticha wajjin dubbachaa jirtuu Naataan raajichi ni
dhufe. 23 Isaanis, “Naataan raajichi as jira” jedhanii mootichatti himan. Kanaafuu
Naataan dhufee fuula mootichaa duratti gad jedhee harka fuudhe.
24 Naataanis akkana jedhe; “Yaa gooftaa koo mootii, ati, ‘Adooniyaan natti aanee
mootii ta’a; teessoo koo irras ni taa’a’ jetteertaa? 25 Inni har’a gad bu’ee sangoota,
jabboota coccoomoo fi hoolota baay’ee aarsaa dhi’eesseera. Ilmaan mootichaa hunda,
ajajjoota loltootaatii fi Abiyaataar lubicha waameera. Isaan amma iyyuu isa wajjin
nyaachaa dhugaa, ‘Adooniyaan mootichi bara dheeraa haa jiraatu!’ jechaa jiru.
26 Garuu ana garbicha kee, Zaadoq lubicha, Benaayaa ilma Yehooyaadaatii fi garbicha
kee Solomoonin hin waamne. 27 Egaa kun waan gooftaan koo mootichi utuu isa
booddeedhaan eenyu akka teessoo gooftaa koo mootichaa irra taa’u garbicha isaa
hin beeksisin hojjeteedhaa?”

### *Daawit Solomoonin Mootii Taasise*
*1:28-53 kwf – 1Sn 29:21-25*

28 Daawit mootichi, “Mee Batisheebaa ol waamaa” jedhe. Kanaafuu isheen gara
mootichaatti ol seentee fuula isaa dura dhaabatte.
29 Mootichis akkana jedhee kakateef; “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa rakkina
hundumaa keessaa na baase sanaa, 30 ani waan duraan maqaa WAAQAYYO Waaqa
Israa’eliin siif kakadhe sana har’a dhugumaan siif guuta. Ilmi kee Solomoon na
booddeedhaan mootii ta’a; iddoo koos teessoo koo irra ni taa’a.”
31 Batisheebaanis addaan gad jettee harka fuutee fuula mootichaa duratti jilbeen-
fattee, “Gooftaan ko, Daawit mootichi bara baraan haa jiraatu!” jette.
32 Daawit mootichis, “Mee Zaadoq lubicha, Naataan raajichaa fi Benaayaa ilma
Yehooyaadaa as waamaa” jedhe. Yommuu isaan fuula mootichaa duratti dhi’aatanitti,
33 inni akkana isaaniin jedhe: “Garboota gooftaa keessanii of faana fudhadhaatii
ilma koo Solomoonin gaangoo koo irra teessisaatii Giihoonitti gad buusaa. 34 Achittis
Zaadoq lubichii fi Naataan raajichi Israa’eloota irratti mootii godhanii isa haa diban.
Malakata afuufaatii, ‘Solomoon mootichi bara dheeraa haa jiraatu!’ jedhaa iyyaa.
35 Isinis ergasii isa wajjin ol ba’uu qabdu; innis dhufee teessoo koo irra taa’ee iddoo
koo bu’ee mootii ta’uu qaba. Ani akka inni bulchaa ta’uuf Israa’elii fi Yihuudaa irratti
isa muudeera.”
36 Benaayaa ilmi Yehooyaadaa akkana jedhee mootichaaf deebise; “Ameen!
WAAQAYYO Waaqni gooftaa koo mootichaa akkasuma haa jedhu. 37 WAAQAYYO akkuma
gooftaa koo mooticha wajjin ture Solomoon wajjin haa ta’u; teessoo isaas teessoo
gooftaa koo Daawit mootichaa caalaa haa jabeessu!”
38 Kanaafuu Zaadoq lubichi, Naataan raajichi, Benaayaa ilmi Yehooyaadaa, Keree-
tonnii fi Pheletonni gad bu’anii gaangoo Daawit mootichaa irra Solomoon teessisanii
Giihoonitti geessan. 39 Zaadoq lubichi dunkaana qulqulluu keessaa gaanfa zayitii
fuudhee Solomooniin dibe. Isaanis malakata afuufanii namoonni hundi, “Solomoon
mootichi bara dheeraa haa jiraatu!” jedhanii iyyan. 40 Namoonni hundi hamma
sagalee sanaan lafti sochootutti faaggaa afuufaa gammachuu guddaadhaan isa faana
ol ba’an.
41 Adooniyaa fi keessummoonni isa wajjin turan akkuma nyaata isaanii fixataniin
waan kana dhaga’an. Yoo’aabis sagalee malakataa dhageenyaan, “Iyyi magaalaa
keessaa kun hundi maalii?” jedhee gaafate.
42 Utuma inni dubbachuutti jiruu, Yonaataan ilmi Abiyaataar lubichaa ni dhufe.
Adooniyaanis, “Ol seeni. Jabaan akka keetii kun oduu gaarii fiduu qabaa” jedhe.
43 Yonaataanis akkana jedhee deebise; “Akkas miti! Gooftaan keenya Daawit
mootichi, Solomoonin mootii godheera. 44 Mootichis Zaadoq lubicha, Naataan
raajicha, Benaayaa ilma Yehooyaadaa, Kereetotaa fi Pheletota isa wajjin erge; isaanis

gaangoo mootichaa irra isa teessisan; 45 Zaadoq lubichii fi Naataan raajichi Giihoonitti
mootii godhanii isa dibaniiru. Isaan gammachuudhaan achii ol ba’an; magaalattiinis
iyya isaaniitiin sochoofamte; wacni isin dhageessan kunis kanaa dha. 46 Kana
caalaa iyyuu Solomoon teessoo mootummaa irra taa’eera. 47 Qondaaltonni mootiis,
‘Waaqni kee maqaa kee caalaa maqaa Solomoon beekamaa godhee teessoo isaa illee
teessoo kee caalaa haa guddisu!’ jedhanii gooftaa keenya Daawit mooticha eebbisuuf
dhufaniiru. Mootichis siree isaa irratti gad jedhee sagade; 48 innis, ‘WAAQAYYO,
Waaqni Israa’el kan akka iji koo har’a nama iddoo koo bu’ee teessoo koo irra taa’u
argitu naa eeyyame sun haa eebbifamu’ jedhe.”
49 Kana irrati keessummoonni Adooniyaa hundi rifatanii ka’anii bibittinnaa’an.
50 Adooniyaan garuu Solomoonin sodaatee dhaqee gaanfa iddoo aarsaa qabate.
51 Solomoonittis akkana jedhamee himame; “Adooniyaan Solomoon mooticha so-
daatee gaanfa iddoo aarsaa qabatee itti cicheera. Innis, ‘Solomoon mootichi akka
goraadeedhaan garbicha isaa hin ajjeefne har’a naaf haa kakatu’ jedhe.”
52 Solomoonis, “Yoo inni amanamaa ta’uu isaa mirkaneesse rifeensa mataa isaa
keessaa tokko iyyuu lafa hin bu’u; garuu yoo hamminni isa keessatti argame inni ni
du’a” jedhee deebise. 53 Solomoon mootichis nama itti erge; isaanis iddoo aarsaa
biraa gad isa fidan. Adooniyaanis dhufee fuula Solomoon mootichaa duratti gad
jedhee harka fuudhe; Solomoonis, “Deemi, mana keetti gali” jedheen.

# 2

### *Ajaja Daawit Solomooniif Kenne*
### *2:10-12 kwf – 1Sn 29:26-28*

1 Daawit Yeroon du’a isaa dhi’aannaan ilma isaa Solomoonin ajaje.
2 Innis akkana jedhe; “Ani karaa lafa hundumaa deemuufan jira. Kanaafuu ati
jabaadhu; namas ta’i; 3 waan WAAQAYYO Waaqni kee barbaadu eegi; akka waan
hojjettu hundaa fi lafa deemtu hundatti milkooftuuf akkuma seera Musee keessatti
barreeffametti karaa isaa irra deemi; sirnaa fi ajaja isaa, seeraa fi dambii isaa eegi;
4 yoo ati akkas goote, WAAQAYYO waan, ‘Yoo ilmaan kee karaa isaanii eeggatan, yoo
isaan garaa isaanii guutuu fi lubbuu isaanii guutuudhaan amanamummaadhaan
fuula koo dura jiraatan, ati teessoo Israa’el irraa nama hin dhabdu’ jedhee na
abdachiise sana fiixaan naa baasa.
5 “Ati mataan kee iyyuu waan Yoo’aab ilmi Zeruuyaa natti hojjete, waan inni
ajajjoota loltoota Israa’el lamaan jechuunis Abneer ilma Neerii fi Amaasaa ilma Yeteer
godhe ni beekta. Inni bara nagaa keessa akka waan waraana keessatti ta’eetti isaan
ajjeesee dhiiga isaanii dhangalaase; dhiiga sanas sabbata mudhii isaatii fi kophee
faana isaatti faale. 6 Ogummaa keetiin isa adabi malee akka inni arrii isaatiin nagaan
awwaalamu hin godhin.
7 “Garuu sababii isaan yeroo ani obboleessa kee Abesaaloom duraa baqadhetti
na gargaaraniif ilmaan Barzilaayii namicha gosa Gili’aad sanaatiif arjoomi; isaanis
warra maaddii kee irraa nyaatan gidduu haa jiraatan.
8 “Shime’iin ilmi Geeraa namichi gosa Beniyaam kan biyya Bahuuriim inni gaafa
ani Mahanayiim dhaqetti akka malee na abaare sun kunoo si wajjin jira. Ani garuu
yeroo inni na simachuuf Yordaanos dhufetti, ‘Ani goraadeedhaan si hin ajjeesu’
jedhee maqaa WAAQAYYOOTIIN nan kakadheef. 9 Ati garuu sababii nama ogeessa
taateef amma akka waan inni balleessaa hin qabaatiniitti isa hin ilaalin. Atuu waan
isa gootu ni beekta. Ati mataa isaa kan arraa’e sana dhiigaan awwaala keessa buusi.”
10 Daawitis ergasii abbootii isaa wajjin boqotee Magaalaa Daawit keessatti
awwaalame. 11 Innis waggaa afurtama Israa’el irratti jechuunis waggaa torba
Kebroonitti, waggaa soddomii sadii immoo Yerusaalemitti mootii ta’e. 12 Kanaafuu

Solomoon teessoo abbaa isaa Daawit irra ni taa'e; mootummaan isaas jabaatee
dhaabate.

### *Teessoon Solomoon Jabaachaa Deemuu Isaa*

13 Yeroo kanatti Adooniyaan ilmi Hagiit gara Batisheebaa gara haadha Solomoon
dhaqe. Batisheebaanis, "Ati nagumaaf dhuftee?" jettee isa gaafatte.

Innis, "Eeyyee ani nagumaafan dhufe" jedhee deebiseef; 14 itti dabalees, "Ani
waanan siin jechuu fedhu tokkon qaba" jedheen.

Isheenis, "Mee jedhi" jettee deebifteef.

15 Innis akkana jedheen; "Akkuma ati beektu mootummaan kan koo ture.
Warri Israa'el hundinuus akka ani mootii isaanii ta'u na abdatan. Garuu wanni
sun geeddaramee mootummaan gara obboleessa kootiitti deebi'eera; wanni kun
WAAQAYYO biraa isaaf dhufeeraatii. 16 Ani amma waanan si kadhadhu tokkon qaba;
maaloo na hin didin."

Isheenis, "Kadhadhu" jetteen.

17 Innis itti fufee, "Akka inni Abiishagi intala gosa Suunam sana akka niitiitti naaf
kennuuf maaloo Solomoon mooticha naa kadhadhu; inni si hin diduutii" jedheen.

18 Batisheebaanis, "Kun waan gaarii dha! Ani dhaqeen moootichatti siif dubbadha"
jettee deebifteef.

19 Kanaafuu Batisheebaan Adooniyaaf jettee isatti dubbachuuf gara Solomoon
Mootichaa dhaqxe; Mootichis ishee simachuuf ol ka'ee harka ishee fuudhee teessoo
isaa irra taa'e. Inni teessoo haadha mootiitiif fidame tokko of biraa qaba ture;
isheenis gama mirga isaatiin teesse.

20 Isheenis, "Ani waanan si kadhadhu xinnoo tokko qaba; maaloo na hin didin"
jetteen.

Mootichis, "Yaa haadha koo kadhadhu; ani si hin diduutii" jedhee deebiseef.

21 Isheenis, "Obboleessi kee Adooniyaan intala gosa Suunam kan Abiishagi
jedhamtu sana haa fuudhu" jetteen.

22 Solomoon mootichis akkana jedhee haadha isaatiif deebii kenne; "Ati maaliif
Abiishagi intala gosa Suunam kana Adooniyaaf kadhatta? Ati mootummaa illee
akkasuma isaaf kadhadhu; inni obboleessa koo hangafaatii; Abiyaataar lubichaa fi
Yoo'aab ilma Zeruuyaatiif illee gaafadhu!"

23 Solomoon mootichis akkana jedhee maqaa WAAQAYYOOTIIN kakate; "Yoo
Adooniyaan gatii kadhaa kanaa lubbuu ofii isaatiin baasuu baate, Waaqni natti haa
muru; waan caalu iyyuu natti haa fidu! 24 Kanaafuu dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa
jabeessee na dhaabee teessoo abbaa koo teessoo Daawit irra na kaa'ee fi isa akkuma
waadaa gale sanatti mootummaa naaf hundeesse sanaa Adooniyaan dhugumaan
har'a ni ajjeefama!" 25 Solomoon mootichi Benaayaa ilma Yehooyaadaa ajaje; innis
dhaqee Adooniyaa dha'ee ajjeese.

26 Mootichis Abiyaataar lubichaan akkana jedhe; "Ati gara lafa qotiisaa kee kan
Anaatoot jirtu sanaa deemi. Ati silaa du'uu qabda turte; ani garuu sababii ati
fuula abbaa koo Daawit duratti taabota WAAQAYYO Gooftaa baattee rakkina abbaa
kootii hunda illee qooddatteef amma si hin ajjeesu." 27 Kanaafuu Solomoon dubbii
WAAQAYYO Shiilootti waa'ee mana Eelii dubbate sana guutuudhaan Abiyaataarin
lubummaa mana WAAQAYYOO irraa buuse.

28 Yommuu oduun kun Yoo'aab namicha Abesaaloomiif tumsuu dhiisee Adooniyaaf
tumse sana bira ga'etti, inni gara dunkaana WAAQAYYOOTTI baqatee gaanfa iddoo
aarsaa sana qabate. 29 Akka Yoo'aab gara dunkaana WAAQAYYOOTTI baqatee iddoo
aarsaa bira jiru Solomoon Mootichatti ni himame. Solomoonis, "Dhaqiitii isa ajjeesi!"
jedhee Benaayaa ilma Yehooyaadaa sana ajaje.

30 Kanaafuu Benaayaa dunkaana Waaqayyoo ol seenee Yoo'aabiin, "Mootichi,
'Kottu ba'i!' siin jedha" jedhe.
Inni garuu, "Ani asumattin du'a malee hin ba'u" jedhee deebise.
Benaayaa immoo, "Yo'aab akkana jedhee naaf deebise" jedhee mootichatti hime.
31 Mootichi akkana jedhee Benaayaa ajaje; "Akkuma inni jedhe sana godhi; ajjeesi-
itii isa awwaali; kanaanis yakka dhiiga nama qulqulluu kan Yoo'aab dhangalaase
sanaa irraa anaa fi mana abbaa koo qulqulleessi. 32 Sababii inni utuu abbaan koo
Daawit hin beekin namoota lama goraadeen ajjeeseef Waaqayyo gatii dhiiga inni
dhangalaase sanaa isa baasisa. Namoonni inni ajjeese sun lamaan jechuunis Abneer
ilmi Neer ajajaan loltoota Israa'elii fi Amaasaan ilmi Yeteer ajajaan loltoota Yihuudaa
namoota isa caalaa jajjaboo fi qajeeltota turan. 33 Yakki dhiiga isaanii mataa Yoo'aabii
fi sanyii isaa irra bara baraan haa jiraatu. Garuu Daawitii fi sanyii isaa irra, mana
isaatii fi teessoo isaa irra nagaan Waaqayyoo bara baraan haa jiraatu."
34 Kanaafuu Benaayaa ilmi Yehooyaadaa achi dhaqee Yoo'aabin ajjeese; innis biyya
ofii isaatti gammoojjii keessatti awwaalame. 35 Mootichis Benaayaa ilma Yehooyaadaa
sana ajajaa loltootaa godhee iddoo Yoo'aab buuse; Zaadoq lubicha immoo iddoo
Abiyaataar buuse.
36 Ergasiis mootichi gara Shime'iitti nama ergee akkana jedheen; "Ati Yerusaalem
keessatti mana ijaarradhuutii achuma jiraadhu; achii baatee gara tokko illee hin
deemin. 37 Gaafa achii baatee Sulula Qeedroon ceetutti akka duutu dhugumaan beeki;
dhiigni kees matuma keetti deebi'a."
38 Shime'iinis, "Wanni ati jette gaarii dha. Garbichi kee akkuma gooftaan koo
mootichi jedhe sana ni godha" jedhee mootichaaf deebise. Shime'iinis bara dheeraa
Yerusaalem keessa jiraate.
39 Garuu waggoota sadii booddee garboota Saamii keessaa namoonni lama gara
Aakiish ilma Ma'akaa mooticha Gaatitti baqatan; Shime'iittis, "Garboonni kee Gaati
keessa jiru" jedhamee himame. 40 Innis waan kana dhageenyaan ka'ee harree isaa
irra kooraa kaa'atee garboota isaa barbaadachuu Aakiish bira Gaati dhaqe. Kanaafuu
Shime'iin dhaqee Gaatii garboota isaa fidate.
41 Yommuu akka Shime'iin Yerusaalemii ba'ee Gaati dhaqee deebi'e Solomoonitti
himametti, 42 mootichi Shime'ii waamsisee akkana jedheen; "Ani maqaa Waaqayy-
ootiin si kakachiisee, 'Ati guyyaa kaatee iddoo biraa dhaquuf baate akka duutu
beekkadhu' jedhee si hin seerree? Atis gaafas, 'Wanni ati jettu gaarii dha. Ani nan
ajajama' naan jette. 43 Yoos ati Maaliif kakuu Waaqayyoon kakatte sana eeguu diddee
ajaja ani siif kenneefis ajajamuu didde ree?"
44 Mootichi amma illee Shime'iidhaan akkana jedhe; "Ati cubbuu abbaa koo
Daawititti hojjette hunda garaa kee keessatti ni beekta. Waaqayyo amma jal'ina kee
sana matuma keetti deebisa. 45 Solomoon mootichi garuu ni eebbifama; teessoon
Daawitis bara baraan jabaatee fuula Waaqayyoo dura ni jiraata."
46 Mootichis Benaayaa ilma Yehooyaadaa ni ajaje; innis dhaqee Saamii dha'ee
ajjeese.
Mootummaanis yeroo kanatti harka Solomoonitti jabaatee dhaabate.

# 3

*Solomoon Ogummaa Kadhate*
*3:4-15 kwf – 2Sn 1:2-13*

1 Solomoonis Fara'oon mooticha Gibxi wajjin walii galtee uummatee intala isaa
fuudhe. Innis hamma masaraa mootummaa ofii isaatii fi mana qulqullummaa
Waaqayyoo ijaaree, naannoo Yerusaalemittis dallaa ijaaruu fixutti magaalaa Daaw-
ititti ishee fide. 2 Ta'us sababii hamma gaafasiitti manni qulqullummaa Maqaa

WAAQAYYOOTIIF hin ijaaraminiif namoonni iddoo ol ka'aa irratti aarsaa dhi'eessaa
turan. 3 Solomoon akkuma ajaja abbaan isaa Daawit isaaf kenneetti jiraachaa jaalala
WAAQAYYOOF qabu argisiise; garuu aarsaa fi ixaana aarfamu iddoo ol ka'aa irratti
dhi'eessaa ture.
4 Mootichi aarsaa dhi'eessuuf gara Gibe'oon dhaqe; iddoon sunis iddoo sagadaa
kan gaara irraa isa baay'ee jaalatamaa isa Solomoon aarsaa gubamu kuma tokko
irratti dhi'eesse tureetii. 5 WAAQAYYOS Gibe'oonitti halkan abjuu keessa Solomoonitti
mul'ate; Waaqnis, "Waan akka ani siif kennu feetu kam iyyuu na kadhadhu" jedhe.
6 Solomoon immoo akkana jedhee deebise; "Ati sababii inni amanamummaa fi
qajeelummaadhaan fuula kee dura jiraatee gara tolina siif qabaateef garbicha kee,
abbaa koo Daawitiif arjummaa guddaa goote. Arjummaa guddaa kanas ittuma
fufteefii har'a ilma teessoo isaa irra taa'u kenniteefii jirta.
7 "Egaa yaa WAAQAYYO Waaqa ko, ati iddoo abbaa koo Daawit, garbicha kee mootii
gooteerta. Ani garuu daa'ima xinnaa dha; hojii koos akkan itti hojjedhu hin beeku.
8 Garbichi kee kunoo saba ati filatte saba guddaa, kan lakkaa'amuu hin dandeenye
yookaan herregamuudhaaf akka malee baay'atu keessa jira. 9 Kanaafuu hubannaa
ani ittiin saba kee bulchuu fi waan gaarii fi waan hamaa ittiin gargar baasee beeku
garbicha keetiif kenni. Yoo akkas ta'uu baate eenyutu saba kee guddaa kana bulchuu
danda'a?"
10 Solomoon waan kana kadhachuun isaa fuula Gooftaa duratti gammachiisaa ture.
11 Kanaafuu Waaqni akkana jedheen; "Ati waan kana kadhatte malee ofii keetiif bara
dheeraa yookaan sooroma yookaan lubbuu diinota keetii hin kadhanne; garuu waan
murtii qajeelaa kennuuf hubannaa kadhatteef, 12 ani waan ati kadhatte kana siifin
kenna. Qalbii ogeessa waa hubatu kan namoonni si dura turan hin qabaatin, kan
warri si duubaan dhufanis hin qabaanne siifin kenna. 13 Kana malee iyyuu akka bara
jireenya keetii keessa moototа gidduudhaa tokko illee siin hin qixxaanneef ani waan
ati hin kadhatin sooromaa fi ulfina siifin kenna. 14 Yoo ati karaa koo irra deemtee
akkuma abbaan kee Daawit hojjete sana seeraa fi ajaja koo eegde, ani umurii kee nan
dheeressa." 15 Solomoon ergasii dammaqee akka wanni sun abjuu ta'e hubate.
Innis gara Yerusaalemitti deebi'ee taabota kakuu Gooftaa dura dhaabatee aarsaa
gubamuu fi aarsaa nagaa dhi'eesse. Ergasiis garboota isaa hundaaf cidha qopheesse.

*Ogummaadhaan Murtii Kennuu*

16 Yeroo kanatti sagaagaltoonni lama dhufanii fuula mootichaa dura dhaabatan.
17 Isheen tokko akkana jette; "Yaa Gooftaa ko, anii fi dubartiin kun manuma tokko
keessa jiraanna. Utuma isheen na wajjin jirtuu ani mucaan da'e. 18 Erga ani da'ee
guyyaa sadii booddee dubartiin kunis mucaa deesse. Nu kophaa keenya turre; nu
lamaan malee namni tokko iyyuu mana sana keessa hin turre.
19 "Ilmi dubartii kanaa sababii isheen halkan irra ciifteef jalaa du'e. 20 Kanaafuu
isheen utuu ani garbittiin kee rafuu halkan walakkaa kaatee mucaa koo na biraa
fudhatte. Isheenis laphee ishee jala isa kaa'attee ilma ishee kan du'e sana laphee
koo jala keesse. 21 Ganama itti aanutti ani ilma koo hoosifachuufan ka'e; kunoo inni
du'ee jira! Ani garuu yommuun ifa ganamaatiin itti dhi'aadhee ilaaletti akka inni
ilma ani da'e sana hin ta'in nan hubadhe."
22 Dubartiin kaanis, "Akkas miti! Inni jiru kun ilma koo ti; kan du'e sun immoo
kan kee ti" jette.
Isheen jalqabaa sun garuu ittuma cimsitee, "Akkas miti! Kan du'e sun kan kee
ti; kan jiru kun immoo koo ti" jette. Isaanis akkasiin fuula mootichaa duratti wal
falman.
23 Mootichis, "Isheen kun, 'Ilmi koo ni jira; kan kee immoo du'eera' jetti; isheen
kaanis, 'Akkas miti! Ilmi kee du'eera; kan koo immoo ni jira' jetti" jedhe.

[24] Kana irratti mootichis, “Goraadee naa fidaa” jedhe. Isaanis mootichaaf goraadee
fidan. [25] Mootichis, “Mucaa jiru kana iddoo lamatti wal qixxeetti kutaatii walakkaa
isaa ishee tokkoof kennaa; walakkaa immoo ishee kaaniif kennaa” jedhee ajaje.
[26] Dubartiin ilmi ishee lubbuun jiru sun mucaa isheetiif akka malee garaa laaftee
mootichaan, “Maaloo yaa Gooftaa ko, mucaa lubbuun jiru kana isheef kenni malee
hin ajjeesin” jette.

Isheen kaan immoo, “Inni iddoo lamatti haa muramuu malee anaafis siifis hin ta’u!” jette.

[27] Kana irratti mootichi, “Mucaa lubbuun jiru kana dubartii duraa sanaaf kennaa
malee hin ajjeesinaa; haati isaa isheedhaatii” jedhee ajaje.
[28] Israa’el hundi murtii mootichi kenne ni dhaga’an; isaanis sababii akka inni
murtii qajeelaa kennuuf Waaqa irraa ogummaa argate hubataniif mooticha ni
sodaatan.

# 4

*Qondaaltota Solomoon*

[1] Solomoon Mootichis akkasiin Israa’el hunda bulche.

[2] Jarri kunneenis qondaaltota isaa ol aantota turan:

Azaariyaa ilmi Zaadoq luba ture;
[3] Eliihoorefii fi Ahiiyaan, ilmaan Shiishaa’aa barreessitoota turan;
Yehooshaafaax ilmi Ahiiluud galmeessaa ture;
[4] Benaayyaa ilmi Yehooyaadaa ajajaa loltootaa ol aanaa ture;
Zaadoqii fi Abiyaataar immoo luboota turan;
[5] Azaariyaa ilmi Naataan itti gaafatamaa bulchitoota aanaalee biyyaa ture;
Zaabuud ilmi Naataan lubaa fi gorsituu mootichaa kan dhuunfaa ture;
[6] Ahiishaar, itti gaafatamaa masaraa mootummaa ture;
Adooniiraam ilmi Abdaa itti gaafatamaa warra hojii humnaa hojjetanii ture.

[7] Solomoonis Israa’el hunda irratti bulchitoota aanaalee kudha lama kanneen
mootichaa fi warra mana mootichaa jiraataniif nyaata dhi’eessan qaba ture. Tokkoon
tokkoon isaaniis waggaa keessatti ji’a tokko tokko nyaata dhi’eessu ture.

[8] Maqaan isaaniis kanaa dha:

Ben-Huur, biyya gaaraa Efreemitti;
[9] Ben-Deqeer Maqaazitti, Sha’albiimitti, Beet Shemeshittii fi Eeloon Beet Haanaanitti;
[10] Ben-Heseed Aruboot keessaa, Sookootii fi biyyi Heefer guutuun kan isaa ture;
[11] Ben-Abiinaadaab, Naafoot Dooritti Xaafati intala Solomoon fuudhee ture;
[12] Ba’anaan ilma Ahiiluud, biyya Ta’anaakii fi Megidootti akkasumas Beet She’aan Zaaretaanitti aanee Yizri’eel gad jiru guutuutti, Beet She’aanii jalqabee hamma Yoqemi’aam ishee Abeel Mehoolaa gamatti;
[13] Ben-Geeber Raamoot Gili’aad keessatti qubatawwan Yaa’iir ilma Minaasee kanneen Gili’aad keessaa, akkasumas biyyi Argobbi kan Baashaan keessatti argamuu fi magaalaawwan gurguddaan dallaan itti ijaaramee danqaraawwan balbalaa kanneen naasii irraa hojjetaman qaban jaatamni kan isaa turan.
[14] Ahiinaadaab ilma Iddoo, Mahanayiim keessatti;
[15] Ahiima’az, Niftaalemitti; innis Baasmati intala Solomoon fuudhee ture;
[16] Ba’anaan ilmi Huushaayi, Aasheerii fi Ba’aalooti keessatti;

17 Yehooshaafaax ilmi Faaruuwaa, Yisaakor keessatti;
18 Shime’iin ilmi Eelaa, Beniyaam keessatti,
19 Geber ilmi Uuri biyya Gili’aad jechuunis biyya Sihoon mooticha Amoorotaatii fi
biyya Oogi mooticha Baashaan keessatti; isa qofatu biyya sana bulchaa ture.

### *Nyaata Guyyaa Guyyaatti Solomooniif Dhi’aatu*

20 Namoonni Yihuudaatii fi Israa’el akkuma cirracha qarqara galaanaa baay’ee
turan; isaanis nyaatanii dhuganii gammadan. 21 Solomoonis mootummoota Laga
Efraaxiisii hamma biyya Filisxeemotaatti, hamma daarii Gibxitti jiran hunda bulchaa
ture. Biyyoonni kunneenis gibira isaaf fidanii bara jireenya isaa guutuu Solomooniif
bulan.
22 Nyaanni guyyuma guyyaatti Solomooniif galu daakuu qulqulluu Koorii soddoma,
midhaan koorii jaatama, 23 sangoota coccoomoo kudhan, loon kaloo dheedan
digdama, hoolotaa fi re’oota dhibba tokko, akkasumas borofa, kuruphee, gadamsaa
fi indaanqoo dha. 24 Inni mootummoota Laga Efraaxiisiin gama dhi’a biiftuu
jiran hunda, Tifsaadhaa hamma Gaazaatti bulchaa tureetii; karaa hundaanis nagaa
qaba ture. 25 Bara Solomoon keessa Yihuudaa fi Israa’el Daanii jalqabanii hamma
Bersheebaatti nagaan jiraatan; tokkoon tokkoon namaas muka wayiniitii fi muka
harbuu ofii isaa jala boqote.
26 Solomoonis gola fardeen gaarii harkisan keessa bulan kuma afurii fi fardeen
kuma kudha lama qaba ture.
27 Bulchitoonni aanaalee sunis yeroo ji’i isaanii ga’utti tokkoon tokkoon isaanii
mootichaa fi warra maaddii Solomoon mootichaa irraa nyaatan hundaaf nyaata
dhi’eessu ture. Akka wanni tokko iyyuu hin hanqanneefis ni to’atu turan.
28 Akkasumas fardeen gaarii harkisanii fi fardeen kaaniif iddoo barbaadameefitti
garbuu fi cidii dhi’eessu turan.

### *Ogummaa Solomoon*

29 Waaqnis ogummaa fi hubannaa guddaa akkasumas garaa bal’aa akka cirracha
qarqara galaanaa Solomooniif kenne. 30 Ogummaan Solomoon ogummaa namoota
ba’a biiftuu jiraatanii hunda caala; ogummaa Gibxi hundas ni caala. 31 Inni nama
kam iyyuu caalaa ogeessa; Eetaan namicha gosa Izraahi sana caalaa, Heemaan,
Kalqoolii fi Dardaa ilmaan Maahool caalaa ogeessa. Maqaan isaas saboota naannoo
sana jiraatan hunda biratti beekame. 32 Inni fakkeenya kuma sadii dubbate; baay’inni
faarfannaa isaas kuma tokkoo fi shan ture. 33 Inni birbirsa Libaanoon jalqabee
hamma hiisophii dallaa irratti guddatuutti jireenya biqiltuuwwanii ibse. Waa’ee
bineensotaatii fi waa’ee simbirroo, waa’ee uumamawwan lafa irra loo’aniitii fi
waa’ee qurxummii illee dubbateera. 34 Namoonni biyyoota hundaa ogummaa
Solomoon dhaga’uuf mootota addunyaa kanneen waa’ee ogummaa isaa dhaga’an
hunda biraa dhufaa turan.

## 5

### *Qophii Ijaarsa Mana Qulqullummaatiif Godhame*
*5:1-16 kwf – 2Sn 2:1-18*

1 Hiiraam mootichi Xiiroos yommuu akka Solomoon abbaa isaa Daawitin iddoo
bu’uuf dibame dhaga’etti ergamoota isaa gara Solomoonitti erge; Hiiraam yeroo kam
iyyuu michuu Daawit tureetii. 2 Solomoonis akkana jedhee Hiiraamiif ergaa kana
deebisee erge:

3 “Akka Abbaan koo Daawit sababii waraana karaa hundaan isa marsee
ture sanaatiif hamma Waaqayyo diinota isaa miilla isaa jala galchuufitti Maqaa
Waaqayyo Waaqa isaatiif mana qulqullummaa ijaaruu hin danda’in atuu beekta.

[4] Amma garuu WAAQAYYO Waaqni koo karaa hundaan boqonnaa naa kenneera;
diinni yookaan balaan tokko iyyuu hin jiru. [5] Kanaafuu ani amma akkuma
WAAQAYYO abbaa koo Daawitiin, 'Ilmi kee kan ani iddoo kee teessoo kee irra teessisu
Maqaa kootiif mana qulqullummaa ni ijaara' jedhe sanatti Maqaa WAAQAYYO
Waaqa kootiif mana qulqullummaa ijaaruu yaadeera.
[6] "Kanaafuu akka birbirsi Libaanoon naaf muramu ajaji. Namoonni koo namoota
kee wajjin hojjetu; anis mindaa ati hojjettoota keetiif murteessitu kam iyyuu siifin
kaffala. Akka nu muka baqaqsuu irratti akka Siidoonotaa ogeeyyii hin ta'in atuu
beekta."
[7] Hiiraamis yommuu dhaamsa Solomoon sana dhaga'etti akka malee gammadee,
"Har'a WAAQAYYO haa eebbifamu; inni akka Solomoon saba guddaa kana bulchuuf
ilma ogeessa kana Daawitiif kenneeraatii" jedhe.
[8] Kanaafuu Hiiraam akkana jedhee Solomoonitti ergaa erge:
"Ani ergaa ati naa ergite argadheera; birbirsaa fi jirma birbirsaa
dhi'eessuudhaan waan ati barbaaddu hunda siifan godha. [9] Namoonni koo
Libaanoon irraa gara galaanaatti gad fidu; anis walitti hidhee lafa ati filattutti
galaana irra siifan erga; achittis gargari nan hiika. Atis muka sana ni fudhatta;
warra mana koo jiraataniif immoo nyaata dhi'eessuudhaan fedhii koo guutta."
[10] Hiiroomis akkasiin birbirsaa fi jirma birbirsaa kan Solomooniif barbaachisu
dhi'eessaafii ture. [11] Solomoonis akka warra mana Hiiraam jiraataniif nyaata
ta'uuf qamadii safartuu qoroosii kuma digdamaa fi zayitii ejersaa kan cuunfame
koorii kuma digdama kenne. Solomoon ittuma fufee wagguma waggaan waan
kana Hiiraamiif kennaa ture. [12] WAAQAYYOs akkuma isa abdachiisetti Solomooniif
ogummaa ni kenne. Hiiraamii fi Solomoon gidduu walitti dhufeenya nagaatu ture;
isaan lamaanuu walii galtee godhatan.
[13] Solomoon mootichis Israa'el hunda keessaa namoota dirqiidhaan hojii humnaa
hojjetan kuma soddoma walitti qabe. [14] Innis akka isaan ji'a tokko Libaanoon keessa,
ji'a lamaa immoo mana isaanii turaniif jedhee, ji'a tokko tokkoof nama kuma kudhan
qoodee Libaanoonitti erge. Adooniiraam immoo itti gaafatamaa namoota dirqiidhaan
hojii humnaa hojjetanii ture. [15] Solomoon namoota ba'aa baatan kuma torbaatamaa
fi warra dhagaa cabsan kuma saddeettama gaarran keessaa qaba ture; [16] akkasumas
namoota hojii hojjechiisanii hojjettoota illee to'atan kuma sadii fi dhibba sadii qaba
ture. [17] Isaanis mootichi ajaja kenninaan dhagoota soofamaniin hundee mana
qulqullummaa buusuudhaaf dhagoota gurguddaa fi dhagoota gatii guddaa fidan.
[18] Ogeeyyiin hojii harkaa Solomoonii fi Hiiroom akkasumas namoonni Gebaal mana
qulqullummaa ijaaruuf mukaa fi dhagaa cabsanii qopheessan.

# 6

*Solomoon Mana Qulqullummaa Ijaaruu Isaa*
*6:1-29 kwf – 2Sn 3:1-14*

[1] Innis erga Israa'eloonni Gibxi keessaa ba'anii waggaa dhibba afurii fi saddeettam-
maffaatti, erga Solomoon Israa'el irratti mootii ta'ee immoo waggaa afuraffaa keessa
ji'a Ziif jechuunis ji'a lammaffaa keessa mana qulqullummaa WAAQAYYOO ijaaruu
jalqabe.
[2] Manni qulqullummaa kan Solomoon mootichi WAAQAYYOOF ijaare sun dhund-
huma jaatama lafa irra dheerata ture; dhundhuma digdama bal'atee dhundhuma
soddoma ol dheerata ture. [3] Gardaafoon fuula galma mana qulqullummaa sana dura
jiru akkuma mana qulqullummaa sanaa dhundhuma digdama lafa irra dheeratee
fuula manichaa duraan dhundhuma kudhan achi ba'a ture. [4] Innis akka manichi ifa
argatuuf foddaawwan faayeffaman itti tolche. [5] Naannoo keenyan mana guddichaatii

fi naannoo keenyan iddoo qulqulluu manicha keessaattis bifa itti baasee kutaalee
ni tolche. 6 Kutaan manichaa kan jalaa dhundhuma shan, kan gidduu dhundhuma
ja’a, sadaffaan immoo dhundhuma torba bal’ata ture. Innis akka wanni tokko iyyuu
keenyan mana qulqullummaa keessa hin suuqamneef alaan manichatti naannessee
ittisa hojjete.

7 Yeroo mana qulqullummaa sana ijaaranitti dhagaa boolla itti dhagaa cabsanitti
soofame qofatti fayyadaman; yeroo manni qulqullummaa sun ijaaramaa turetti iyyi
burruusaa, kan qottootii fi kan mi’a sibiilaa kamii iyyuu achitti hin dhaga’amne.

8 Balballi kutaa manichaa kan jalaa karaa kibba mana qulqullummaatiin ture;
gulantaan tokkos gara kutaa manichaa gidduutii fi gara kutaa manichaa sadaffaatti
ol baasa. 9 Inni akkasiin mana qulqullummaa sana ijaaree saanqaa birbirsaatii fi
dareeraadhaan gubbaa isaa duuchee fixe. 10 Innis kutaalee alaa sana naannoo mana
qulqullummaatti marsee ijaare. Ol dheerinni tokkoo tokkoo isaaniis dhundhuma
shan shan ture. Isaanis muka birbirsaatiin mana qulqullummaatti qabsiifaman.

11 Dubbiin WAAQAYYOOS akkana jedhee gara Solomoon dhufe: 12 “Waa’ee mana
qulqullummaa ati ijaaraa jirtu kanaa, ati sirna koo duukaa buutee seera kootii fi ajaja
koo hundas yoo eegde, ani waadaan abbaa kee Daawitiif gale sana karaa keetiin nan
raawwadha. 13 Anis Israa’eloota gidduu nan jiraadha; saba koo Israa’elinis hin gatu.”

14 Akkasiin Solomoon mana qulqullummaa sana ijaaree fixe. 15 Innis hundee
mana qulqullummaatii jalqabee hamma gubbaa isaatti mamaxxansuudhaan keenyan
manichaa karaa keessaatiin saanqaa birbirsaatiin uffise; lafa manichaas saanqaa
birbirsaatiin uffise. 16 Karaa boroo mana qulqullummaatiinis iddoo qulqulluu kan
keessaa jechuunis Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e hojjechuuf hundee
manichaatii jalqabee hamma gubbaa isaatti saanqaa birbirsaatiin kutaa dhundhuma
digdama bal’atu tokko qoode. 17 Galmi guddichi fuula kutaa kanaa duraan jirus
dhundhuma afurtama dheerata ture. 18 Keessi mana qulqullummaa sanaas birbirsa
fakkiin buqqeetii fi daraaraa irratti soofameen faayeffamee ture. Wanni hundinuu
birbirsaan hojjetame; dhagaan tokko iyyuu hin mul’atu ture.

19 Inni taabota kakuu WAAQAYYOO achi keessa kaa’uuf jedhee mana qulqullummaa
keessatti iddoo qulqulluu qopheesse. 20 Iddoon qulqulluun manicha keessaa sun
dhundhuma digdama lafa irra dheeratee, dhundhuma digdama bal’atee dhundhuma
digdama immoo ol dheerata ture. Innis keessa manichaa warqee qulqulluu itti uffise;
iddoo aarsaa kan birbirsaa irraa hojjetame sana illee warqee qulqulluu itti uffise.
21 Solomoonis keessa mana qulqullummaa sanaa warqee qulqulluu itti uffisee fuula
iddoo qulqulluu manicha keessaa kan warqeen itti uffifame sana duraan foncaa
warqee diriirse. 22 Innis akkasiin keessa manichaa hunda warqee itti uffise. Iddoo
aarsaa kan iddoo qulqulluu gara keessaa cina jiru sana illee warqee itti uffise.

23 Innis iddoo qulqulluu gara keessaa jiru sana keessatti kiirubeelii muka ejersaa
irraa hojjetaman kanneen tokkoon tokkoon isaanii dhundhuma kudhan kudhan
ol dheeratan tolche. 24 Qoochoon kiirubeelii jalqabaa tokkichi dhundhuma shan
dalga dheerata; qoochoon kaanis dhundhuma shan dalga dheerata; walumatti
fiixee qoochoo tokkootii hamma fiixee qoochoo kaaniitti dhundhuma kudhan dalga
dheerata ture. 25 Sababii kiirubeeliin lachuu guddinaan wal qixxee ta’anii bifa tokko
qabaataniif kiirubiin lammaffaanis dhundhuma kudhan dalga dheerata ture. 26 Ol
dheerinni tokkoo tokkoo kiirubeeliis dhundhuma kudhan kudhan ture. 27 Solomoon
kiirubeelii sana mana qulqullummaa keessa kutaa Iddoo Iddoo Hunda Caalaa
Qulqulluu ta’e keessa kaa’e; qoochoon isaaniis babal’ifamee ture. Qoochoon
kiirubeelii tokkoo keenyan manaa tokko tuqee qoochoon kiirubeelii kaanii immoo
keenyan manaa kaan tuqe; qoochoon isaaniis dhufee walakkaa kutaa manichaatti
wal tuqa ture. 28 Inni kiirubeelii sanas warqee itti uffise.

29 Solomoonis keenyan mana qulqullummaa sanaa hunda irratti, keessaa fi du-
ubaan itti naannessee fakkiiwwan kiirubeelii, mukkeen meexxiitii fi daraarawwanii
miidhagse. 30 Lafa kutaalee mana qulqullummaa sanaa lachuuttis keessaa fi alaan
warqee uffise.
31 Balbala iddoo qulqulluu kan gara keessaatiifis muka ejersaatiin cufaawwan
tolche; cufaawwan sunis bal'ina keenyaniitti harka shan keessaa harka tokko
ture. 32 Cufaa muka ejersaa sana lamaan irrattis fakkiiwwan kiirubeelii, kan
muka meexxiitii fi daraarawwanii miidhagsee fakkiiwwan kiirubeelii fi kan muka
meexxii sanatti warqee uffise. 33 Haaluma kanaanis michichila balbalaa kan muka
ejersaa irraa hojjetamee roga afur qabu tokko balbala galma guddichaatiif tolche.
34 Akkasumas balbala muka birbirsaa lama kanneen tokkoon tokkoon isaanii saanqaa
walitti deebi'ee cufamu lama lama qaban tolche. 35 Achi irrattis kiirubeelii, mukkeen
meexxiitii fi daraarawwan miidhagsee warqee tumame wal qixxeessee itti uffise.
36 Innis dhagaa soofamaa toora sadii fi dareeraa birbirsaa, toora tokkoon oobdii
manicha keessaa ijaare.
37 Hundeen mana qulqullummaa Waaqayyoos waggaa afuraffaatti ji'a Ziif jedhamu
keessa buufame. 38 Manni qulqullummaa sunis waggaa kudha tokkoffaatti, ji'a
Buul jechuunis ji'a saddeettaffaa keessa akkuma karoorfametti guutumaan guutuutti
hojjetamee dhume. Solomoonis mana sana ijaaree fixuuf waggaa torba itti fudhate.

# 7

*Solomoon Masaraa Mootummaa Ijaarrate*

1 Solomoon masaraa mootummaa isaa ijaaree fixachuuf waggaa kudha sadii itti
fudhate. 2 Innis Masaraa Bosona Libaanoon jedhamu ijaarrate; masaraan sunis
dhundhuma dhibba tokko dalga dheeratee bal'ina dhundhuma shantamaa fi ol
dheerina dhundhuma soddoma qaba ture; innis toora afuriin utubaawwan birbirsaa
kanneen dareeraawwan birbirsaa baatan qaba ture. 3 Manni sunis dareeraawwan
utubaawwan irra naqaman sanaan olitti bantii birbirsi hojjetame qaba ture; innis
toorawwan tokkoon tokkoon isaanii utubaawwan kudha shan qabatan walumaa
galatti utubaawwan afurtamii shan qaba ture. 4 Foddaawwan isaas ol kaafamanii
toora sadii sadiin walitti garagalfamanii hojjetaman. 5 Balballii fi michichilli balbalaa
hundinuu roga afur afur qabu turan; isaanis karaa fuula duraatiin sadii sadiin walitti
garagalfamanii turan.
6 Innis galma utubaawwan hedduu qabu kan dhundhuma shantama lafa irra
dheeratee dhundhuma soddoma bal'atu ijaare. Fuula galma sanaa duraanis
gardaafoo tokkotu ture; gardaafoo sana duraan immoo utubaawwanii fi bantii
utubaawwan sana irratti diriirfame tokkotu ture.
7 Innis galma teessoo, iddoo itti murtii kennu galma laaftoo ijaaree lafa isaatii
jalqabee hamma bantii isaatti muka birbirsaa itti uffise. 8 Masaraan mootummaa kan
akka inni keessa jiraatuuf ijaarame sunis gara dugda duubaatti hiiqee karooruma wal
fakkaatuun hojjetame. Solomoon intala Fara'oon kan fuudhe sanaaf illee masaraa
mootummaa kan akkuma galma kanaa ijaare.
9 Ijaarsi sun hundinuu alaa jalqabee hamma oobdii guddichaatti, hundee irraa
jalqabee hamma mataa keenyan manaatti dhagaa gatii guddaa kan safaramee
muramee fi kan keessii fi duubni isaa magaaziidhaan miidhagfameen hojjetame.
10 Hundeen isaas dhagoota gurguddaa gatii guddaa qaban kanneen gariin isaanii
dhundhuma kudhan gariin isaanii immoo dhundhuma saddeeti ta'aniin buufame.
11 Hundee kana irraanis dhagoota gatii guddaa kanneen safaramanii murmuramanii
fi birbirsatu ture. 12 Oobdiin guddichis akkuma oobdii mana qulqullummaa
Waaqayyoo kan keessaatii fi gardaafoo isaa sanaa keenyan manaa kan toora dhagaa

soofamee ijaarame sadii fi toora saanqaa birbirsaa kan miidhagfamee hojjetame
tokkoon marfame.

*Mi'a Mana Qulqullummaa*
*7:23-26 kwf – 2Sn 4:2-5*
*7:38-51 kwf – 2Sn 4:6; 4:10–5:1*

13 Solomoon mootichi Xiiroositti nama ergee Huuraamin fichisiise; 14 haati
Huuraam haadha hiyyeessaa kan gosa Niftaalem turte; abbaan isaa immoo nama
gosa Xiiroos kan ogummaa hojii naasii qabu ture. Huuraam kun nama ogummaa
guddaa qabu kan hojii naasii hunda keessatti muuxannoo qabu ture. Innis gara
Solomoon mootichaa dhufee hojii isatti kenname hunda hojjete.
15 Hiiraam utubaa naasii lama kanneen tokkoon tokkoon isaanii dhundhuma
kudha saddeet ol dheeratanii dhundhuma kudha lama furdatan hojjete. 16 Fiixee
utubaawwan sanaa irra kaa'uudhaafis naasii baqfame irraa guutuu lama tolche;
tokkoon tokkoon guutuu sanaas dhundhuma shan shan ol dheerata ture. 17 Ergasiis
guutuuwwan fiixee utubaawwan irraa sanaaf foncaa wal keessa loofame akka
gingilchaatti hojjetame lama tolche; tokkoo tokkoo guutuu sanaatiifis gingilchaa torba
torbatu qoodame. 18 Innis guutuuwwan fiixee utubaawwanii irra jiran sana miidhag-
suuf jedhee tokkoo tokkoo gingilchaa sanaatti naannessee toora lamaan roomaanota
tolche. Tokkoo tokkoo guutuwwaniitiifis akkasuma tolche. 19 Guutuuwwan gardaafoo
keessa fiixee utubaawwanii irra jiranis daraaraa fakkaatanii dhundhuma afur
afur ol dheeratu ture. 20 Guutuuwwan fiixee utubaawwan lamaanii irra kutaa
waciitii fakkaatu kan gingilchaawwanitti aanuun gara irraa roomaanoota dhibba
lamatu tooraan itti naanna'ee ture. 21 Innis utubaawwan sana gardaafoo mana
qulqullummaa dura dhadhaabe. Utubaa karaa kibbaatiin "Yaakiin" kan karaa
kaabaatiin immoo "Bo'eez" jedhe. 22 Guutuuwwan fiixee sana irra jiran daraaraa
fakkaatu turan. Hojiin utubaawwan irraas akkasiin dhume.
23 Innis sibiila baqfame irraa Gaanii geengoo afaan isaa qarqara tokkoo hamma
qarqara kaaniitti dhundhuma kudhan bal'atee dhundhuma shan ol dheeratu tolche.
Naannoon isaas funyoodhaan safaramee dhundhuma soddoma ta'e. 24 Hidhii isaa
jalaanis dhundhuma tokko tokko irratti wiillee kudhan kudhanitu naanneffamee
ture. Willeewwan sunis Gaanii sana wajjin tarree lamaan walumatti baqfamanii
hojjetaman.
25 Gaanichis korommii kudha lama kanneen isaan keessaa sadii gara kaabaatti,
sadii gara dhi'aatti, sadii gara kibbaatti, sadii immoo gara ba'aatti garagalan irra
dhaabate. Gaaniin sun dugda isaanii irra dhaabatee eegeen hunda isaanii gara
walakkaatti garagalee ture. 26 Gaaniin sun hamma barruu harkaa yabbata ture;
hidhiin isaas akkuma hidhii kubbaayyaa yookaan daraaraa hadaa fakkaata ture.
Innis baadoosii kuma lama qabata ture.
27 Akkasumas baattuuwwan naasii kanneen iddoo tokkoo socho'uu danda'an
kudhan tolche; tokkoon tokkoon isaanii dhundhuma afur afur lafa irra dheeratanii
bal'ina dhundhuma afur afuriitii fi ol dheerina dhundhuma sadii sadii qabu turan.
28 Haalli itti baattuuwwan kunneen hojjetamanis kana: Isaanis sibiila babal'aa
michichilaan marfame qabu ture. 29 Sibiilawwan michichilaan marfaman sana
irras fakkii leencawwanii, kan jibootaatii fi kan kiirubeeliitu ture; michichilawwan
sana irras akkasuma ture. Fakkii leencawwaniitii fi jiboota sana jalaa fi gubbaanis
fakkii daraaraa fo'amaa kan sibiila tumameen tolfame tokkotu ture. 30 Tokkoon
tokkoon baattuu sanaa goommaa naasii afur afurii fi somaa naasii qaba ture;
goleewwan afraniinis utubaawwanitu ture; utubaawwan kunneenis baqfamanii
daraaraa fo'amaadhaan miidhagfamanii tolfaman. 31 Gara keessa baattuu sanaatiin
uraa geengoo kan dhundhuma tokko gad fagaatutu ture. Uraan kunis geengoo

ta'ee jalli isaa dhundhuma tokkoo fi walakkaa bal'ata ture. Naannoo uraa isaatti
waan soofamee faayeffame tokkotu ture. Sibiilli baattuu sanaa bal'aan roga afuriin
wal qixxee ture malee geengoo hin turre. 
32 Goommaawwan afran sun sibiila
babal'aa jala turan; somaan goommaawwaniis baattuu sanaan walitti qabsiifamee
ture. Bal'inni tokkoo tokkoo goommaa sanaas dhundhuma tokkoo fi walakkaa
ture. 
33 Goommaawwan sunis akkuma goommaawwan gaariitti hojjetaman. Somaan
isaanii, hidhiin isaanii, hokkoon isaaniitii fi handhuurri isaanii hundinuu sibiila
baqfame irraa hojjetame.

34 Tokkoo tokkoo goleewwan baattuu sanaa afran irra michichilawwan afurtu
ture; michichilawwan isaas baattuudhuma sanaan walitti hojjetaman. 
35 Fiixee
baattuu sanaa irra geengoo maramaa dhundhuma walakkaa dheeratu tokkotu ture.
Michichilawwanii fi sibiilli babal'aan sun fiixee baattuu sanaatti qabsiifamanii turan.
36 Innis michichilawwanii fi sibiila babal'aa irratti iddoo hundatti fakkii kiirubeelii,
kan leencotaatii fi kan mukkeen meexxii soofee fakkii daraaraa fo'amees naannoo
isaanii guutuutti marse. 
37 Haalli inni ittiin baattuuwwan kurnan sana hojjetes kanaa
dha. Isaan hundinuu haaluma tokkoon baqfamanii hojjetaman; wal qixxaataniis bifa
tokko qabaatan.

38 Ergasiis caabiiwwan naasii kudhan kanneen tokkoon tokkoon isaanii safartuu
baadoos afurtama qabaatee bal'inni isaas dhundhuma afur ta'u hojjete; tokkoo
tokkoo baattuuwwan kurnan sanaa irras caabii tokko tokkotu ture. 
39 Innis
baattuuwwan sana keessaa shan karaa kibba mana qulqullummaatiin, shan immoo
karaa kaaba mana qulqullummaatiin dhaabe. Gaanii sana immoo karaa kibbaatiin,
kibba ba'a golee mana qulqullummaatiin dhaabe. 
40 Inni okkoteewwan, waan
daaraan ittiin hammaaramuu fi caabiiwwan ittiin dhiiga facaasanis ni tolche.

Hiiroomis akkasiin hojii mana qulqullummaa Waaqayyoo keessatti Solomoon
mootichaaf hojjechaa ture hunda fixe; hojiin kunis:

41 Utubaawwan lamaan;
guutuuwwan waciitii fakkaatan kanneen fiixee utubaawwanii irra jiran lamaan;
wantoota akka gingilchaa wal keessa loofaman lamaan guutuuwwan waciitii fakkaatanii fiixee utubaawwanii irra jiran sana lamaan miidhagsan;
42 wantoota akka gingilchaa wal keessa loofaman lamaan sanaafis roomaanota dhibba afur, tokkoo tokkoo wantoota sanaatiif roomaanota tarree lamaa waciitiiwwan lamaan guutuuwwanii kanneen fiixee utubaawwanii irraa sana ni miidhagsan;
43 baattuuwwan kurnan, caabii isaanii kurnan wajjin;
44 gaanii fi korommii loonii kudha lamaan isa jalaan jiru;
45 okkoteewwan, waan ittiin daaraa hammaaranii fi caabiiwwan.

Mi'i Huuraam mana qulqullummaa Waaqayyootiif jedhee Solomoon mootichaaf
hojjete sun hundinuu naasii cululuqaa irraa tolfame. 
46 Mootichis mi'oota kanneen
dirree Yordaanositti iddoo suphee kan Sukootii fi Zaaretaan gidduu jirutti baqsiisee
hojjechiise. 
47 Solomoon waan isaan akka malee baay'ee ta'aniif mi'oota kanneen
hunda hin madaalle; ulfinni naasiis hammam akka ta'e hin beekamne.

48 Akkasumas Solomoon mi'oota mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa jiran
hunda ni hojjechiise:

Isaanis iddoo aarsaa kan warqee irraa hojjetame;
minjaala warqee kan buddeenni ilaalchaa irra ture;

49 baattuuwwan ibsaa kanneen warqee qulqulluu irraa hojjetaman shan karaa mirgaatiin, shan immoo karaa bitaatiin fuula iddoo qulqulluu manicha keessaa dura dhaabaman sana,
daraarawwan, ibsaawwanii fi qabduuwwan warqee irraa hojjetaman;
50 caabiiwwan, waan ittiin ibsaa irraa daaraa dhadha’an, waciitiiwwan ittiin dhiiga facaasan, caabiiwwanii fi qodaa ixaanaa kanneen warqee qulqulluu irraa hojjetaman;
cufaawwan kutaa manichaa kanneen gara keessaatiif jechuunis Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e sanaaf, akkasumas cufaawwan galma guddichaa kanneen mana qulqullummaatiif aguuraawwan warqee.

51 Solomoon mootichi yommuu hojiin inni mana qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF
hojjete hundi raawwatametti mi’oota abbaan isaa Daawit Waaqaaf addaan baase
jechuunis meetii, warqee fi mi’oota fidee mankuusa mana qulqullummaa WAAQAYYOO
keessa kaa’e.

# 8

*Taabonni Kakuu Mana Qulqullummaatti Galfame*
*8:1-21 kwf – 2Sn 5:2–6:11*

1 Ergasii Solomoon Mootichi Xiyoon Magaalaa Daawit irraa taabota kakuu
WAAQAYYOO ol fichisiisuudhaaf jedhee maanguddoota Israa’el, abbootii gosootaa
hundaa fi hangafoota maatiiwwan Israa’el Yerusaalemitti fuula ofii isaa duratti
walitti waame. 2 Israa’eloonni hundinuus ji’a Eetaaniim, ji’a torbaffaa keessa yeroo
ayyaanaatti Solomoon Mooticha biratti walitti qabaman.
3 Yommuu maanguddoonni Israa’el hundi achi ga’anitti luboonni taaboticha ol
fuudhan; 4 isaanis taabota WAAQAYYOO sana, dunkaana wal ga’iitii fi mi’oota
qulqulleeffaman dunkaanicha keessa turan hunda ni fidan. Luboonnii fi Lewwonnis
baatanii ol isaan fidan; 5 Solomoon Mootichii fi waldaan Israa’el kan isa biratti walitti
qabaman guutuun hoolotaa fi loon akka malee baay’atanii galmeessuu fi lakkaa’uun
hin danda’amne aarsaa dhi’eessaa isa wajjin fuula taabotaa dura turan.
6 Luboonnis ergasii taabota kakuu WAAQAYYOO sana iddoo isaa gara kutaa qulqul-
licha mana qulqullummaa keessaa jechuunis Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu
ta’e sanatti ol galchanii qoochoo kiirubeelii jala kaa’an. 7 Kiirubeeliinis iddoo
taabotichaa irratti qoochoowwan isaanii babal’isanii taabotichaa fi danqaraawwan
ittiin taabota baatan gaaddiseessan. 8 Danqaraawwan kunneen waan akka malee
dhedheerataniif fiixeen isaanii Iddoo Qulqulluu fuula iddoo qulqulluu gara keessaa
jiru sanaa duraa ni mul’atu ture; garuu Iddoo Qulqulluu sanaa alatti hin mul’atan
ture; danqaraawwan kunneen hamma har’aatti illee achuma jiru. 9 Taabota sana
keessa gabateewwan dhagaa kanneen Museen Kooreebitti iddoo WAAQAYYO erga
Israa’eloonni Gibxii ba’anii booddee itti isaan wajjin kakuu seene sanatti isa keessa
kaa’e lamaan malee wanni tokko iyyuu hin turre.
10 Akkuma luboonni Iddoo Qulqulluu sana keessaa ba’aniin duumessi mana
qulqullummaa WAAQAYYOO guute. 11 Luboonnis sababii duumessa sanaatiif hojii
isaanii hojjechuu hin dandeenye; ulfinni WAAQAYYOO mana qulqullummaa isaa
guutee tureetii.
12 Ergasii Solomoon akkana jedhe; “WAAQAYYO akka duumessa dukkanaa’aa keessa
jiraatu dubbateera; 13 ani dhugumaan mana qulqullummaa guddaa, iddoo ati bara
baraan jiraattu siif ijaareera.”
14 Utuma waldaan Israa’el guutuun achi dhaabatuu mootichi of irra garagalee isaan
eebbise. 15 Akkanas jedhe:

“WAAQAYYO Waaqni Israa’el inni waan afaan ofii isaatiin abbaa koo Daawitiif waadaa gale sana harkuma ofii isaatiin guute sun haa eebbifamu. Innis akkana jedhee tureetii;
16 ‘Ani gaafan saba koo Israa’elin Gibxii baasee jalqabee akka Maqaan koo achi jiraatuuf jedhee mana qulqullummaa itti ijaarsifachuuf gosoota Israa’el kam iyyuu keessatti magaalaa tokko illee hin filanne; garuu akka inni saba koo Israa’elin bulchuuf Daawitin filadheera.’
17 “Daawit abbaan koo Maqaa WAAQAYYO Waaqa Israa’eliif mana qulqullummaa ijaaruuf garaa isaatii yaada qaba ture.
18 WAAQAYYO garuu abbaa koo Daawitiin akkana jedhe; ‘Waan mana qulqullummaa Maqaa kootiif ijaaruun yaada kee keessa jiruuf, ati yaada kana garaadhaa qabaachuun kee gaarii dha.
19 Ta’us namni mana qulqullummaa naaf ijaaru si’i miti; garuu ilma kee isuma foon keetii fi dhiiga kee ta’etu ijaara; namni mana qulqullummaa Maqaa kootiif ijaaru isa.’
20 “WAAQAYYO waadaa gale sana eegeera; akkuma WAAQAYYO waadaa gale sana ani amma iddoo abbaa koo Daawit bu’ee teessoo Israa’el irra taa’een jira; Maqaa WAAQAYYO Waaqa Israa’eliifis mana qulqullummaa ijaareera.
21 Anis achi keessatti taabotaaf iddoo qopheesseera; taabota sana keessa immoo kakuu WAAQAYYOO kan inni yeroo Gibxii isaan baasetti abbootii keenya wajjin gale sanatu jira.”

### *Kadhaa Solomoon*
### *8:22-53 kwf – 2Sn 6:12-40*

22 Solomoon iddoo aarsaa WAAQAYYOO duratti fuula guutummaa waldaa Israa’el dura dhaabatee harka isaa gara samiitti ol bal’isee
23 akkanas jedhe:
“Yaa WAAQAYYO Waaqa Israa’el, Waaqni akka keetii ol samii keessa yookaan gad lafa irra hin jiru; ati garboota kee warra garaa guutuudhaan karaa kee irra deemaniif kakuu fi jaalala kee kan hin geeddaramne sana ni eegda.
24 Ati waadaa garbicha kee abbaa koo Daawitiif galte sana eegdeerta; ati afaanuma keetiin waadaa galtee akkuma har’a ta’ee jiru kana harka keetiin fiixaan baafteerta.
25 “Ammas yaa WAAQAYYO Waaqa Israa’el, ati waan garbicha kee abbaa koo Daawitiin, ‘Yoo ilmaan kee akkuma ati goote sana waan hojjetan hunda keessatti of eeggachaa, amanamummaan fuula koo dura deddeebi’an, ati nama fuula koo dura teessoo Israa’el irra taa’u gonkumaa hin dhabdu’ jettee abdachiifte sana eegiif.
26 Kanaafuu amma yaa Waaqa Israa’el dubbiin ati garbicha kee abbaa koo Daawitiif waadaa galte sun haa mirkanaa’u.
27 “Garuu dhugumaan Waaqni lafa irra ni jiraataa? Samiiwwan, samiiwwan samii olii iyyuu si baachuu hin danda’an. Yoos manni qulqullummaa kan ani ijaare kun hammam haa xinnaatu ree!
28 Ta’us yaa WAAQAYYO Waaqa ko, kadhannaa fi waammata garbichi kee araara barbaaduuf dhi’eessuuf gurra kenni. Iyyaa fi kadhannaa garbichi kee har’a fuula kee duratti dhi’eessu illee dhaga’i.
29 Akka ati kadhannaa garbichi kee fuula isaa garanatti deebifatee kadhatuuf iji kee halkanii fi guyyaa gara mana qulqullummaa kanaa, gara iddoo ati, ‘Maqaan koo achi jiraata’ jette kanaa haa ilaalu.
30 Yommuu isaan gara iddoo kanaatti fuula deebifatanii kadhatanitti waammata garbicha keetii fi kan saba kee Israa’el dhaga’i. Samii keessaa, iddoo jireenya keetiitii dhaga’i; yommuu dhageessuttis dhiifama godhi.
31 “Yoo namni tokko ollaa ofii isaatti daba hojjetee akka kakatu gaafatamee, innis dhufee mana qulqullummaa kana keessatti fuula iddoo aarsaa keetii duratti kakate,
32 ati samii irraa dhaga’iitii tarkaanfii fudhadhu. Nama yakka qabu, yakka isaa matuma isaatti deebistee gatii isaa kennuufiidhaan, nama qajeelaa immoo akkuma qajeelummaa isaatti isaaf falmuudhaan garboota kee gidduutti murtii kenni.
33 “Yoo sabni kee Israa’el sababii cubbuu sitti hojjeteef diinaan mo’atamutti, yoo inni gara keetti deebi’ee maqaa keetiif ulfina kennee mana qulqullummaa

kana keessatti kadhatee si waammatutti, 34 samii irraa dhaga'iitii cubbuu saba kee
Israa'el dhiisiif; biyya abbootii isaaniitiif kennite sanattis deebisii isaan galchi.

35 "Yoo sababii sabni kee cubbuu sitti hojjeteef samiiwwan cufamanii bokkaan
dhabame, yoo isaan sababii ati isaan adabdeef iddoo kanatti fuula deebifatanii
maqaa kee ulfeessanii cubbuu isaanii irraa deebi'an, 36 ati samii irraa dhaga'iitii
cubbuu garboota kee saba kee Israa'el dhiisiif. Karaa qajeelaa isaan jiraachuu
qaban isaan barsiisi; biyya dhaala gootee saba keetiif kennite irrattis bokkaa roobsi.

37 "Yommuu beelli yookaan dha'ichi yookaan waagiin yookaan awwaaroon
yookaan hawwaannisni yookaan korophisni biyyatti dhufutti, yookaan yommuu
magaalaawwan biyya isaanii kam iyyuu keessatti diinni isaan marsutti, yookaan
yommuu balaan yookaan dhukkubni kam iyyuu dhufutti, 38 yoo sabni kee Israa'el
rakkina garaa ofii isaa beekee isaan keessaa eenyu iyyuu gara mana qulqullummaa
kanaatti harka isaa bal'isee kadhannaa yookaan waammata dhi'eesse, 39 ati samii
irraa, iddoo jireenya keetiitii dhaga'i. Dhiifama godhiif; gargaaris. Si qofatu garaa
namaa beekaatii, ati sababii garaa isaa beektuuf tokkoo tokkoo namaatiif akkuma
hojii isaa hundaatti waan isaaf malu kenni; 40 yoo akkasii isaan bara biyya ati
abbootii keenyaaf kennite keessa jiraatan hunda si sodaataniif.

41 "Akkasumas nama ormaa kan saba kee Israa'el hin ta'in kan maqaa keetiif
jedhee, 42 sababii isaan waa'ee maqaa kee guddichaa, harka kee jabaa fi irree kee
kan diriirfame sanaa dhaga'aniif biyya fagootii dhufe, yoo inni dhufee fuula isaa
gara mana qulqullummaa kanaatti deebifatee kadhate, 43 ati samii irraa, iddoo
jireenya keetiitii dhaga'i. Akka saboonni addunyaa hundinuu akkuma saba kee
Israa'el sana maqaa kee beekanii si sodaatanii fi akka isaan akka manni ani ijaare
kun maqaa keetiin waamamu illee beekaniif jedhii waan namni ormaa sun si
kadhatu hunda godhiif.

44 "Yommuu sabni kee diinota isaa loluuf jedhee gara ati itti isa ergitu kam
iyyuu duulutti, yoo inni gara magaalaa ati filattee fi gara mana qulqullummaa
kan ani Maqaa keetiif ijaare kanaatti fuula deebifatee WAAQAYYOON kadhate, 45 ati
samii irraa kadhannaa isaatii fi waammata isaa dhaga'iitii dhimma isaa isaaf
raawwadhu.

46 "Sababii namni cubbuu hin hojjenne tokko iyyuu hin jirreef, yommuu
isaan cubbuu sitti hojjetanitti ati isaanitti aartee diina isaan booji'ee biyya isaa
kan fagoo yookaan dhi'ootti isaan geessutti dabarsitee isaan kennita; 47 yoo
isaan biyya boojuudhaan itti geeffamanitti gaabbanii qalbii geeddaratanii, 'Nu
cubbuu hojjenneerra; balleessineerra; waan hamaas hojjenneerra' jedhanii biyya
boojitoota isaanii keessatti si kadhatan, 48 yoo isaan biyya diinota isaanii kanneen
booji'anii isaan fudhatan sanaa keessatti garaa fi lubbuu isaanii guutuudhaan gara
keetti deebi'anii gara biyya ati abbootii isaaniitiif kenniteetti, gara magaalaa ati
filattee fi gara mana qulqullummaa kan ani Maqaa keetiif ijaare sanaatti fuula
deebifatanii si kadhatan, 49 ati samii irraa, iddoo jireenya keetiitii kadhannaa fi
waammata isaanii dhaga'iitii dhimma isaanii isaaniif raawwadhu. 50 Saba kee
kan cubbuu sitti hojjeteefis dhiifama godhi; yakka isaan sitti hojjetan hundas
isaaniif dhiisiitii akka boojitoonni isaanii garaa isaaniif laafan godhi; 51 isaan saba
keetii fi dhaala kee kan ati Gibxii boolla ibiddaa kan sibiila itti baqsan keessaa
baafteedhaatii.

52 "Iji kee waammata garbicha keetiitii fi waammata saba kee Israa'el haa argu;
atis yeroo isaan sitti iyyatan hunda isaan dhaga'i. 53 Yaa WAAQAYYO Gooftaa,
ati akkuma gaafa Gibxi keessaa abbootii keenya baafte sana karaa garbicha kee
Museetiin dubbattetti, akka isaan dhaala kee ta'aniif jettee saboota addunyaa kanaa
hunda keessaa isaan filatteetii."

54 Solomoonis kadhannaa fi waammata WAAQAYYOTTI dhi’eeffachaa ture sana
hunda fixannaan fuula iddoo aarsaa WAAQAYYOO duraa, iddoo itti harka isaa samiitti
ol bal’ifatee jilbeenfatee ture sanaa ka’e. 55 Innis dhaabatee akkana jedhee sagalee
guddaadhaan waldaa Israa’el hunda eebbise:
56 “WAAQAYYO akkuma abdachiisee ture sanatti saba isaa Israa’eliif boqonnaa
kenne sanaaf galanni haa ta’u. Abdii gaarii inni karaa garbicha isaa Museetiin
kenne sana hunda keessaa jechi tokko iyyuu lafa hin buune. 57 WAAQAYYO Waaqni
keenya akkuma abbootii keenya wajjin ture sana nu wajjin haa jiraatu; inni yoom
iyyuu nu hin dhiisin yookaan nu hin gatin. 58 Akka nu karaa isaa hunda irra
deemnee ajajawwan, seerawwanii fi qajeelchawwan inni abbootii keenyaaf kennee
ture sana eegnuuf inni garaa keenya gara ofii isaatti haa deebisu. 59 Akka WAAQAYYO
akkuma guyyaa guyyaan barbaachisaa ta’etti garbicha isaatii fi saba isaa Israa’el
hunda gargaaruuf kadhannaan koo kan ani fuula WAAQAYYOO duratti dhi’eessu kun
halkanii fi guyyaa WAAQAYYO Waaqa keenya bira haa ga’u; 60 kunis akka sabni lafa
irra jiraatu hundi akka WAAQAYYO Waaqa ta’ee fi akka isa malee Waaqni biraa hin
jirre beekuuf. 61 Kanaafuu isin akkuma har’aa kana seerawwan isaatiin buluu fi
ajajawwan isaa eeguudhaaf guutumaan guutuutti WAAQAYYO Waaqa keenyaaf of
kennuu qabdu.”

### *Manni Qulqullummaa Eebbifamuu Isaa*
*8:62-66 kwf – 2Sn 7:1-10*

62 Ergasii mootichii fi sabni Israa’el kanneen isa wajjin turan hundi fuula
WAAQAYYOO duratti aarsaa dhi’eessan. 63 Solomoonis aarsaa nagaa WAAQAYYOOF
dhi’eesse; aarsaan dhi’eeffames loon kuma digdamii lama, hoolotaa fi re’oota kuma
dhibba tokkoo fi digdama ture. Akkasiin mootichii fi sabni Israa’el hundi mana
qulqullummaa WAAQAYYOO eebbisan.
64 Mootichis guyyuma sana iddoo walakkaa oobdii fuula mana qulqullummaa
WAAQAYYOO dura jiru sanaa Waaqaaf addaan ni baasee aarsaa gubamu, kennaa
midhaanii fi aarsaa nagaa achitti dhi’eesse; kunis sababii iddoon aarsaa kan naasii
irraa hojjetamee fuula WAAQAYYOO dura jiru sun aarsaa gubamu, kennaa midhaanii
fi cooma aarsaa nagaa baachuu hin dandeenyeef.
65 Kanaafuu Solomoon yeroo sanatti Israa’eloota isa wajjin turan hunda wajjin
jechuunis waldaa guddicha Malkaa Leeboo Hamaatii jalqabee hamma laga Gibxitti
walitti qabame wajjin ayyaana ayyaaneffate. Isaanis ayyaana kana bultii torbaa fi
bultii biraa torba walumaa galatti bultii kudha afur fuula WAAQAYYO Waaqa keenyaa
duratti ayyaaneffatan. 66 Innis guyyaa itti aanutti namoota of irraa geggeesse.
Isaanis waan gaarii WAAQAYYO garbicha ofii isaa Daawitii fi saba ofii isaa Israa’eliif
hojjete hundaaf mooticha eebbisanii ililchaa garaa isaanii keessatti gammadaa mana
isaaniitti galan.

# 9

### *WAAQAYYO Solomoonitti Mul’ate*
*9:1-9 kwf – 2Sn 7:11-22*

1 Yommuu Solomoon mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi masaraa mootummaa
ijaaree waan hojjechuu barbaade hunda fixetti, 2 WAAQAYYO akkuma Gibe’oonitti
isatti mul’ate sana ammas yeroo lammaffaa isatti mul’ate. 3 WAAQAYYO akkana isaan
jedhe:
“Ani kadhannaa fi waammata ati fuula koo duratti dhi’eessite dhaga’eera; ani
mana qulqullummaa kan ati ijaarte kana maqaa koo bara baraan achi keessa
kaa’uudhaan eebbiseera. Iji koo fi garaan koo yeroo hunda achuma jira.

4 "Yoo ati akkuma Daawit abbaan kee godhe sana garaa qulqulluu fi qajeelum-
maan fuula koo dura deemtee waan ani ajaje hunda hojjette, yoo qajeelchawwanii
fi seerawwan koo eegde, 5 ani akkuman yeroo, 'Ati nama teessoo Israa'el irra taa'u
hin dhabdu' jedhee abbaa kee Daawitiif waadaa gale sana teessoo mootummaa
keetii Israa'el irratti jabeessee bara baraan nan dhaaba.
6 "Garuu yoo ati yookaan ilmaan kee narraa gortanii ajajawwanii fi qa-
jeelchawwan ani isinii kenne sana irraa gara waaqota biraa tajaajiluu fi isaan
waaqeffachuu dhaqxan, 7 ani biyya isaaniif kenne keessaa Israa'elin nan ari'a;
mana qulqullummaa kan Maqaa kootiif qulqulleesse kana illee nan balfa. Ergasiis
Israa'el saboota hunda biratti waan kolfaatii fi waan qoosaa taati. 8 Manni
qulqullummaa kunis tuullaa waan diigamee ta'a; namni achiin darbu hundis
dinqisiifatee, 'Waaqayyo maaliif biyya kanaa fi mana qulqullummaa kanatti waan
akkasii hojjete?' jedhee itti qoosa. 9 Namoonnis, 'Sababiin inni balaa kana hunda
isaanitti fideef waan isaan Waaqayyo Waaqa isaanii kan abbootii isaanii Gibxii
isaan baase sana dhiisanii, waaqota biraa hammatanii, isaanin waaqeffatanii
tajaajilaniif' jedhanii ni deebisu."

### *Hojii Solomoon Hojjete Kan Biraa*
### *9:10-28 kwf – 2Sn 8:1-18*

10 Dhuma waggaa digdamaatti, yeroo itti Solomoon manneen lamaan jechuunis
mana qulqullummaa Waaqayyootii fi masaraa mootummaa ijaare sanatti, 11 Hiiraam
mootichi Xiiroos akkuma Solomoon Mootichi barbaadetti muka birbirsaatii fi gaat-
tiraa akkasuma warqee kenneef; Solomoon immoo magaalaawwan Galiilaa keessa
jiran digdama Hiiraam mooticha Xiiroosiif kenne. 12 Hiiraam garuu yommuu Xiiroos
irraa ka'ee magaalaawwan Solomoon isaaf kenne ilaaluu dhaqetti magaalaawwan
sanatti hin gammanne. 13 Innis, "Yaa obboleessoo, magaalaawwan ati naa kennite
kunneen magaalaawwan akkamii ti?" jedhee isa gaafate. Kanaafuu biyya Kaabuul
jedhee maqaa hamma har'aatti ittiin waamaman tokko baaseef. 14 Hiiraamis warqee
taalaantii 120 mootichaaf ergee ture.
15 Seenaan itti Solomoon Mootichi mana qulqullummaa Waaqayyoo, masaraa
mootummaa kan ofii isaa Miiloo, dallaa Yerusaalem, Haazoor, Megidoo fi Geezirin
ijaaruuf hojjettoota dirqamanii hojii humnaa hojjetanitti fayyadame kanaa dha.
16 Fara'oon mootichi Gibxi Geezirin lolee qabatee ture. Innis ibidda itti qabsiise;
Kana'aanota achi keessa jiraatan fixee intala ofii isaa, niitii Solomoon sanaaf
magaalattii gabbara godhee kenne. 17 Solomoonis deebisee Geezirin ijaare. Innis
Beet Horoon gad aanu, 18 Baa'ilaati, Tadmoor kan gammoojjii biyya Yihuudaa
keessatti argamtu sana, 19 akkasumas magaalaawwan kuusaawwan isaa hunda, mag-
aalaawwan gaariiwwanii fi kan fardeen isaa, waanuma Yerusaalemitti, Libaanoonittii
fi biyya bulchu hunda keessatti ijaaruu barbaade hundumas ni ijaare.
20 Ammas namoota Israa'eloota hin ta'in kanneen Amoorota, Heetota, Feerzota,
Hiiwotaa fi Yebuusota jalaa hafanitu jira. 21 Solomoonis sanyiiwwan namoota
kanneen hundaa warra biyyattii keessatti hafan kanneen Israa'eloonni balleessuu hin
danda'in sana akkuma hamma har'aatti illee jiru kana akka isaan hojii garbummaa
hojjetaniif dirqisiise. 22 Solomoon garuu Israa'eloota keessaa nama tokko illee hin
garboomsine; isaan loltoota isaa, qondaaltota mootummaa isaa, ajajjuuwwan loltoota
isaa, abbootii duulaa, ajajjuuwwan gaariiwwanii fi ajajjuuwwan abbootii fardaa isaa
turan. 23 Isaan akkasumas hojii Solomoon hojjechiisaa ture keessatti qondaaltota
hangafoota turan; qondaaltonni 550 hojjettoota hojii hojjetan kana to'achaa turan.
24 Solomoonis erga intalli Fara'oon sun Magaalaa Daawit keessaa gara masaraa
mootummaa kan Solomoon isheef ijaare sana dhuftee booddee Miiloo ijaare.

25 Solomoon waggaatti yeroo sadii aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa iddoo aarsaa
kan WAAQAYYOOF ijaare sana irratti dhi’eessa ni ture; sana wajjinis, fuula WAAQAYYOO
duratti ixaana aarsee akkasiin hojii ijaarsa mana qulqullummaa fixe.
26 Solomoon mootichi amma illee Eziyoon Geber ishee biyya Edoom keessa, Eelooti
bira jirtu keessatti qarqara Galaana Diimaatti dooniiwwan hojjete. 27 Hiiraamis akka
isaan namoota Solomoon wajjin dooniiwwan irra hojjetaniif namoota isaa warra
doonii oofan kanneen galaanicha beekan erge. 28 Isaanis dooniidhaan Oofiir dhaqanii
warqee taalaantii 420 fidanii Solomoon moottichatti kennan.

# 10

*Mootittiin Saabaa Solomoonin Arguu Dhaqxe*
*10:1-13 kwf – 2Sn 9:1-12*

1 Mootittiin Shebaa waa’ee maqaa Solomooniitii fi ulfina inni maqaa WAAQAYY-
OOTIIF qabuu dhageenyaan gaaffiiwwan jajjaboodhaan qortee isa ilaaluuf gara
Solomoon dhufte. 2 Isheenis miiltoo akka malee baay’ee wajjin gaalawwan urgooftuu,
warqee hedduu fi dhagaawwan gati jabeeyyii baatan fudhattee Yerusaalem dhufte;
Solomoon bira geenyaanis waan garaa ishee jiru hunda isa wajjin haasofte.
3 Solomoonis gaaffii ishee hundaaf deebii kenne; wanni mootichi isheef ibsuu
dadhabe tokko iyyuu hin turre. 4 Mootittiin Shebaa yommuu ogummaa Solomoon,
masaraa mootummaa kan inni ijaare, 5 nyaata maaddii isaa irratti dhi’aatu, haala
itti qondaaltonni isaa tataa’an, hojjettoota uffata hojii uffatanii hojjetan, warra
daadhii isaaf dhi’eessanii fi aarsaa gubamu kan inni mana qulqullummaa WAAQAYYOO
keessatti dhi’eesse argitetti akka malee dinqisiifatte.
6 Isheenis mootichaan akkana jette; “Oduun ani waa’ee waan ati hojjetteetii fi
waa’ee ogummaa keetii biyyuma kootti dhaga’e sun dhugaa dha. 7 Ani garuu
hamman dhufee ijuma kootiin argutti wantoota kanneen hin amanne. Dhugumaan
walakkaan isaa iyyuu natti hin himamne; ati ogummaa fi badhaadhummaadhaan
oduu ani dhaga’e sana akka malee caalta. 8 Namoonni kee hammam haa gammadan!
Qondaaltonni kee warri yeroo hunda fuula kee dura dhadhaabatanii ogummaa kee
dhaga’an hammam haa gammadan! 9 WAAQAYYO Waaqni kee inni sitti gammadee
teessoo Israa’el irra si teessise sun haa galateeffamu. WAAQAYYO sababii Israa’eliif
jaalala bara baraa qabuuf akka ati murtii qajeelaa fi qajeelummaa eegduuf mootii si
godheera.”
10 Isheenis warqee taalaantii 120, urgooftuu akka malee baay’ee fi dhagaawwan
gati jabeeyyii mootichaaf kennite. Urgooftuun akka urgooftuu mootittiin Shebaa
Solomoon Mootichaaf kennite sanaa baay’atu gonkumaa ergasii hin fidamne.
11 Dooniiwwan Hiiraam biyya Oofiir irraa warqee fidan; isaanis fe’iisa muka
sandaliitii fi dhagaawwan gati jabeeyyii baay’ee achii ni fidan. 12 Mootichis muka
sandalii sana utubaa mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi kan masaraa mootummaa
akkasumas baganaa fi kiraara faarfattootaa tolchuuf itti fayyadame. Mukni sandalii
kan akkas baay’atu ergasii hamma har’aatti takkumaa alaa hin fidamne yookaan hin
argamne.
13 Solomoon Mootichis waan qabeenya mootummaa ofii isaa keessaa kenneef irratti
dabalee waan isheen barbaaddee fi waan isheen kadhatte hunda mootittii Shebaatiif
ni kenne. Isheenis ergasii kaatee miiltota ishee wajjin biyya ofii isheetti deebite.

*Badhaadhummaa Solomoon*
*10:14-29 kwf – 2Sn 1:14-17; 9:13-28*

14 Ulfinni warqee kan wagguma waggaan Solomooniif galu taalaantii 666 ture;
15 kunis gibira daldaltoota qabeenya gurguddaatii fi xixinnaa irraa argamuu fi galii

inni mootota biyya Arabaa hundaa fi bulchitoota biyya keessaa irraa argatu hin dabalatu.
[16] Solomoon Mootichis warqee tumame irraa gaachanawwan gurguddaa dhibba
lama ni tolche; tokkoon tokkoon gaachanawwan sanaas warqee saqilii dhibba ja'a
fixe. [17] Akkasumas warqee tumame irraa gaachana xixinnaa dhibba sadii ni tolche;
tokkoon tokkoon gaachana sanaas warqee minnaanii dhibba sadii fixe. Mootichis
gaachanawwan kanneen masaraa mootummaa kan Bosona Libaanoon keessa ni
kaa'e.
[18] Mootichis teessoo guddaa tokko ilka arbaa irraa hojjetee warqee qulqulluu itti
uffise. [19] Teessoon sun gulantaawwan ja'a qaba ture; karaa dugda duubaatiin fiixee
geengoo tokko qaba. Karaa teessoo sanaa lamaaniinis waan harka irra kaa'atanitu
ture; tokkoo tokkoo waan harka irra kaa'atan sanaa biras fakkii leencaa tokko tokkotu
dhaabatee ture. [20] Gulantaawwan ja'aan sana irras leenconni kudha lama tokko fiixee
tokkoon, fakkiin kaan immoo fiixee kaaniin dhadhaabachaa turan. Wanni akkasii
takkumaa mootummaa biraa kamiif iyyuu hin tolfamne. [21] Mi'i Solomoon Mootichi
ittiin dhugu hundinuu warqee irraa hojjetame; mi'i masaraa mootummaa kan Bosona
Libaanoon jedhamu sanaa hundi immoo warqee qulqulluu irraa hojjetame. Sababii
bara Solomoon keessa meetiin akka waan gatii hin qabne tokkootti ilaalamaa tureef
wanni tokko iyyuu meetii irraa hin hojjetamne. [22] Mootichis dooniiwwan Hiiraam
gidduudhaa dooniiwwan daldalaa galaana irraa qaba ture. Isaanis waggaa sadii
sadiitti yeroo tokko warqee, meetii fi ilka arbaa, qamalee fi jaldeessa fidanii ni dhufu
ture.
[23] Solomoon Mootichi badhaadhummaa fi ogummaadhaan mootota addunyaa
hunda ni caala ture. [24] Addunyaan hundinuu ogummaa Waaqni garaa isaa keessa
kaa'e dhaga'uuf Solomoon bira dhufuu barbaada ture. [25] Namni waggaa waggaatti isa
bira dhufu hundinuu kennaa mi'a meetii fi kan warqee, uffata, mi'a lolaa, urgooftuu,
fardeenii fi gaangolii fidaafii ture.
[26] Solomoonis gaariiwwanii fi fardeen walitti ni kuufate; innis gaariiwwan kuma
tokkoo fi dhibba afurii fi fardeen kuma kudha lama qaba ture; isaan kanneenis
magaalaawwan gaariiwwanii keessaa fi Yerusaalem keessa of bira ni kaa'ate.
[27] Mootichi akka meetiin Yerusaalem keessatti akkuma dhagaa baay'atu, akka
mukni birbirsaas akkuma mukkeen harbuu kanneen gaarran jalaatti baay'atu godhe.
[28] Fardeen Solomoon Gibxii fi Qaweedhaa fidaman; daldaltoota mootummaatu
Qaweedhaa gatii yerootiin isaan bite. [29] Isaanis gaarii tokko meetii saqilii dhibba
ja'aan, farda immoo meetii saqilii dhibba tokkoo fi shantamaan Gibxii bitanii fidan.
Akkasumas gaariiwwanii fi fardeen kanneen erganii mootota Heetotaatii fi mootota
Sooriyaa hundatti gurguru turan.

# 11

*Niitota Solomoon*
[1] Solomoon Mootichi garuu intala Fara'oon irratti dubartoota biyya ormaa hedduu
jaallate; isaanis Mo'aabota, Amoonota, Edoomota, Siidoonotaa fi Heetota turan. [2] Jarri
kunneen saboota WAAQAYYO, "Sababii isaan dhugumaan garaa keessan gara waaqota
ofii isaaniitti garagalchaniif isin fuudhaa fi heerumaan jaratti hin makaminaa"
jedhee waa'ee isaanii Israa'elootatti dubbatee turee dha. Ta'us Solomoon jaalalaan
isaanitti hidhame. [3] Innis niitota maatii mootootaa keessaa dhalatan dhibba torbaa
fi saajjatoowwan dhibba sadii qaba ture; niitonni isaa kunneenis karaa irraa isa
balleessan. [4] Akkuma Solomoon umuriidhaan dulloomaa deemeen niitonni garaa
isaa gara waaqota biraatti garagalchan; garaan isaas akka garaan abbaa isaa Daawit
ture sana guutumaan guutuutti WAAQAYYO Waaqa isaatiif hin kennamne. [5] Innis
Ashtooreti waaqittii Siidoonotaatii fi Moolek waaqicha Amoonotaa jibbisiisaa sana

duukaa bu’e. 6 Solomoonis akkasiin fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete;
inni akka Daawit abbaan isaa hojjete sana guutumaan guutuutti WAAQAYYO duukaa
hin buune.
7 Solomoonis gaara Yerusaalemiin gara ba’a biiftuu jirtu tokko irratti Kemoosh
Waaqa Mo’aab jibbisiisaa fi Moolek Waaqa Amoon jibbisiisaa sanaaf iddoo sagadaa
ijaare. 8 Inni akka isaan ixaana aarsanii waaqota isaaniitiif aarsaa dhi’eessaniifis
niitota isaa kanneen biyya ormaatii fuudhe hundumaaf iyyuu akkasuma godhe.
9 WAAQAYYOs sababii garaan Solomoon WAAQAYYO Waaqa Israa’el kan yeroo lama
isatti mul’ate sana irraa goreef isatti aare. 10 Waaqni akka Solomoon waaqota
biraa duukaa hin buune isa dhowwu iyyuu, Solomoon ajaja WAAQAYYOO hin eegne.
11 Kanaafuu WAAQAYYO Solomooniin akkana jedhe; “Sababii yaadni kee akkana ta’ee,
atis kakuu fi seera ani siif kenne sana hin eeginiif, ani dhugumaan mootummaa
sirraa baqaqsee tajaajilaa keetiif nan kenna. 12 Ta’us ani sababii abbaa kee Daawitiif
jedhee waan kana bara jireenya keetii keessa hin godhu. Harka ilma keetii keessaa
mootummaa kana nan baqaqsa. 13 Ta’us ani mootummaa sana guutumaan guutuutti
isa irraa hin baqaqsu; garuu ani sababii garbicha koo Daawitii fi sababii Yerusaalem
ishee ani filadhe sanaatiif jedhee gosa tokko ilma keetiif nan kenna.”

### *Diinota Solomoon*

14 WAAQAYYO diina tokko namicha Hadaad jedhamu kan gosa Edoom namicha
sanyii moototaa tokko Solomoonitti kaase. 15 Duraan yeroo Daawit Edoomiin wal
lolaa turetti, Yoo’aab ajajaan loltootaa kan warra du’e awwaaluu dhaqe sun namoota
Edoom hunda barbadeesse. 16 Yoo’aabii fi Israa’eloonni hundinuu hamma namoota
Edoom keessa jiraatan hunda fixanitti ji’a ja’a achi turan. 17 Hadaad garuu yeroo sana
mucaa xinnaa ture; innis qondaaltota Edoom kanneen abbaa isaa tajaajilaa turan
wajjin Gibxitti baqate. 18 Isaanis Midiyaanii ka’anii Phaaraan dhaqan. Phaaraan
keessaas namoota fudhatanii gara mooticha Gibxi, gara Fara’oon dhaqan; Fara’oonis
mana, lafa inni qubatuu fi nyaata Hadaadiif kenne.
19 Fara’oon akka malee Hadaaditti gammadee obboleettii niitii isaa, obboleettii
Tahifenees Mootittii isatti heerumsiise. 20 Obboleettiin Tahifenees sunis ilma Geen-
baat jedhamu tokko deesseef; Taahefenee mucaa sana fuutee masaraa mootummaa
keessatti guddifte. Genubatis ijoollee Fara’oon wajjin achi jiraate.
21 Hadaad utuu biyya Gibxi keessa jiruu akka Daawit abbootii ofii isaa wajjin
boqotee fi akka Yoo’aab ajajaan loltootaa sunis du’e ni dhaga’e. Hadaadis Fara’ooniin,
“Akka ani biyya kootti deebi’uuf naa eeyyami” jedhe.
22 Fara’oon immoo, “Ati maal asii dhabdee biyya keetti deebi’uu feeta?” jedhee isa
gaafate.
Hadaadis deebisee, “Homaa hin dhabne; garuu akka ani dhaqu naa eeyyami!”
jedheen.
23 Waaqni amma illee diina biraa Rezoon ilma Eliyaadaa namicha gooftaa isaa
Hadaadezer mootichaa Zoobaa jalaa baqate sana Solomoonitti kaase. 24 Innis yeroo
Daawit loltoota Suubaa barbadeessetti namoota of biratti walitti qabatee hoogganaa
tuuta finciltootaa ta’e; finciltoonni sunis Damaasqoo dhaqanii achi jiraatan; isas
achitti mootii godhatan. 25 Reezoon rakkina Hadaad fide sanatti dabalee bara jireenya
Solomoon hunda diina Israa’el ture. Reezoon bulchaa Sooriyaa ture; Israa’elinis akka
malee jibbaa ture.

### *Yerobi’aam Solomoonitti Finciluu Isaa*

26 Yerobi’aam ilmi Nebaat mootichatti fincile. Innis qondaaltota Solomoon keessaa
nama tokko ture; inni nama gosa Efraataa kan Zereedaadhaa dhufe ture; haati isaa
immoo niitii dhirsa hin qabne kan Zeruwaa jedhamtu turte.

[27] Sababiin inni ittiin mootichatti ka'es kanaa dha: Solomoonis Miiloo ijaaree dallaa
magaalaa abbaa isaa Daawit deebisee haaromse. [28] Yerobi'aam goota cimaa ture;
Solomoonis akka dargaggeessi sun jabaatee hojii isaa hojjetu arginaan itti gaafatamaa
hojjettoota hojii humnaa kan mana Yoosef hundaa isa godhe.
[29] Gaaf tokko utuu Yerobi'aam Yerusaalem keessaa ba'aa jiruu Ahiiyaan raajichi
Shiiloo kaabbaa haaraa uffatee isatti dhufe. Isaan lachuu kophuma isaanii ala
turan; [30] Ahiiyaan kaabbaa haaraa uffate sana fuudhee iddoo kudha lamatti gargari
tarsaase. [31] Ergasiis Yerobi'aamiin akkana jedhe; "Qooda kudhan ofii keetii fudhadhu;
WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedhaatii; 'Kunoo ani harka Solomooniitii moo-
tummaa baqaqsee gosa kudhan siifin kenna. [32] Garuu sababii garbicha koo Daawitii
fi sababii magaalaa Yerusaalem kan ani gosa Israa'el hunda keessaa filadhe sanaatiif
inni gosa tokko ni argata. [33] Ani sababii isaan na dhiisanii Ashtooreti waaqittii
Siidoonotaa, Kemoosh waaqicha Mo'aabotaatii fi Moolek waaqicha Amoonotaa
waaqeffatanii fi sababii isaan karaa koo irra hin deeminiif yookaan sababii waan
fuula koo duratti qajeelaa ta'e hin hojjetiniif yookaan sababii isaan akka Daawit
abbaan Solomoon hojjete sana sirnaa fi seera koo hin eeginiif waan kana hojjedhe.
[34] " 'Ani garuu mootummaa sana guutumaan guutuutti harka Solomoonii hin
fuudhu; ani sababii Daawit garbicha koo kan ani filadhe, kan ajaja koo fi sirna
koo eege sanaatiif jedhee Solomoonin bara jireenya isaa guutuu bulchaa godheera.
[35] Ani harka ilma isaatii mootummaa sana fuudhee gosa kudhan siifin kenna. [36] Ani
akka garbichi koo Daawit yeroo hunda Yerusaalem magaalaa ani Maqaa koo achi
kaa'achuuf filadhe sana keessatti fuula koo duratti ibsaa qabaatuuf jedhee gosa tokko
ilma isaatiif nan kenna. [37] Si'i garuu ani nan fudhadha; atis waan garaan kee fedhu
hunda ni bulchita; Israa'el irratti mootii ni taata. [38] Yoo ati akkuma garbichi koo
Daawit hojjete sana, waan ani si ajaju hunda hojjettee karaa koo irra deemte, yoo
ati sirnaa fi ajaja koo eeguudhaan waan fuula koo duratti qajeelaa ta'e hojjete, ani
si wajjin nan ta'a. Anis mootummaa bulu kan akkan Daawitiif dhaabe sanaa siifis
nan dhaaba; akkasumas Israa'elin sitti nan kenna. [39] Ani waan kanaaf jedhee sanyii
Daawit nan dhiphisa; garuu bara baraanii miti.' "
[40] Solomoonis Yerobi'aamin ajjeesuu yaale; Yerobi'aam garuu gara Shiishaaq
mooticha Gibxitti baqatee hamma Solomoon du'utti achuma ture.

### *Solomoon Du'uu Isaa*
*11:41-43 kwf – 2Sn 9:29-31*

[41] Wanni bara mootummaa Solomoon keessa hojjetaman kan biraa, wanni inni
hojjetee fi ogummaan isaa hundi kitaaba seenaa Solomoon keessatti barreeffamanii
jiru mitii? [42] Solomoon Yerusaalem keessatti mootii ta'ee waggaa afurtama saba
Israa'el hunda ni bulche. [43] Innis ergasii abbootii isaa wajjin boqotee magaalaa abbaa
isaa, magaalaa Daawit keessatti ni awwaalame. Rehoobo'aam ilmi isaa iddoo isaa
bu'ee mootii ni ta'e.

## 12

### *Israa'el Rehoobo'aamitti Fincile*
*12:1-24 kwf – 2Sn 10:1–11:4*

[1] Rehoobo'aamis sababii Israa'eloonni hundinuu mootii isa gochuudhaaf achi
yaa'aniif ka'ee Sheekem dhaqe. [2] Yerobi'aam ilmi Nebaat yommuu oduu kana
dhaga'etti deebi'ee dhufe; inni yeroo sanatti Solomoon Mooticha jalaa baqatee
Gibxi jiraachaa tureetii. [3] Kanaafuu Yerobi'aamitti nama erganii waamanii, innii fi
waldaan Israa'el guutuun gara Rehoobo'aam dhaqanii akkana jedhaniin: [4] "Abbaan
kee waanjoo ulfaatu nurra kaa'ee ture; ati immoo amma hojii inni humnaan nu

hojjechiise sanaa fi waanjoo ulfaataa inni nurra kaa'e sana nuuf salphisi; nus si
tajaajillaa."

5 Rehoobo'aam immoo deebisee, "Bultii sadiif deemaatii ergasii deebi'aa gara koo
kottaa" jedheen. Kanaafuu namoonni sun ba'anii deeman.

6 Ergasiis Rehoobo'aam Mootichi maanguddoota bara jireenya isaa keessa abbaa
isaa Solomoonin tajaajilaniin mari'ate. Innis, "Isin akka ani namoota kanaaf maal
deebisu na gorsitu?" jedhee gaafate.

7 Isaanis, "Yoo ati har'a tajaajilaa saba kanaaf taatee isaan tajaajiltee deebii gaarii
kenniteef, isaan yeroo hunda tajaajiltoota kee ni ta'u" jedhanii deebisaniif.

8 Rehoobo'aam garuu gorsa maanguddoonni kennaniif didee dargaggoota isa wajjin
guddatan kanneen isa tajaajilan wajjin mari'ate. 9 Innis, "Gorsi keessan maal?
Namoota, 'Waanjoo abbaan kee nurra kaa'e kana nuuf salphisi' naan jedhan kanaaf
akkamitti haa deebisnu?" jedhee isaan gaafate.

10 Dargaggoonni isa wajjin guddatan sunis akkana jedhanii deebisaniif; "Namoonni
kunneen, 'Abbaan kee waanjoo ulfaataa nurra kaa'e; ati garuu waanjoo keenya nuu
salphisi' siin jedhan; ati amma akkana jedhiin; 'Qubni koo xinnaan mudhii abbaa
kootii irra furdaa dha. 11 Abbaan koo waanjoo ulfaataa isin irra kaa'e; ani immoo
hammas caalaa iyyuu isinittan ulfaachisa. Abbaan koo qacceedhaan isin garafe; ani
immoo torbaanqabaadhaanan isin garafa.' "

12 Bultii sadii booddee Yerobi'aamii fi namoonni hundi akkuma mootichi, "Guyyaa
sadii keessatti deebi'aa gara koo kottaa" jedhe sana gara Rehoobo'aamitti deebi'an.
13 Mootichi immoo afaan hamaadhaan namoota sanaaf deebii kenne. Gorsa
maanguddoonni kennaniif sana didee 14 gorsa dargaggootaa fudhatee, "Abbaan
koo waanjoo keessan isinitti ulfaachise; ani immoo hammas iyyuu caalaa isinittan
ulfaachisa. Abbaan koo qacceedhaan isin garafe; ani immoo torbaanqabaadhaanan
isin garafa" jedhe. 15 Kanaafuu mootichi namoota sana hin dhaggeeffanne;
wanni kun akka dubbiin WAAQAYYO karaa Ahiiyaa namicha biyya Shiiloo sanaatiin
Yerobi'aam ilma Nebaatitti dubbate sun raawwatamuuf WAAQAYYO biraa dhufeetii.

16 Israa'el hundi yommuu akka mootichi isaan dhaggeeffachuu dide arganitti
akkana jedhanii mootichaaf deebii kennan:

"Nu Daawit irraa qooda maalii qabna?
    Ilma Isseey irraas maal qabna?
Yaa Israa'el gara dunkaana keetii!
    Yaa Daawit mana kee eeggadhu!"

Kanaafuu Israa'eloonni gara mana ofii isaaniitti deebi'an. 17 Israa'eloota maga-
alaawwan Yihuudaa keessa jiraatan garuu Rehoobo'aamtu bulchaa ture.

18 Rehoobo'aam Mootichis, Adooraam itti gaafatamaa hojjettoota hojii humnaa ni
erge; Israa'el hundi immoo dhagaadhaan tumanii isa ajjeese. Rehoobo'aam Mootichi
garuu ariitiidhaan gaarii ofii isaa yaabbatee jalaa miliqee Yerusaalemitti baqate.
19 Kanaafuu Israa'eloonni hamma har'aatti mana Daawititti fincilaniiru.

20 Israa'eloonni hundinuu akka Yerobi'aam deebi'e dhageenyaan nama itti erganii
gara waldaatti isa waamanii Israa'el hunda irratti mootii isa godhan. Gosa Yihuudaa
qofatu mana Daawitiif amanamaa ta'ee hafe.

21 Rehoobo'aam yommuu Yerusaalem ga'etti akka isaan Israa'elitti duulanii
Rehoobo'aam ilma Solomooniif mootummaa deebisaniif jedhee mana Yihuudaa
hundaa fi gosa Beniyaam keessaa namoota loluu danda'an kuma dhibba tokkoo fi
saddeettama walitti qabe.

22 Garuu dubbiin Waaqaa kun akkana jedhee gara nama Waaqaa, gara Shemaa'iyaa
ni dhufe; 23 "Rehoobo'aam ilma Solomoon mooticha Yihuudaatiin, Yihuudaa fi
Beniyaam hundaan, saba hafeenis akkana jedhi; 24 'WAAQAYYO akkana jedha;

obboloota keessan Israa’eloota loluudhaaf jettanii ol hin ba’inaa. Sababii wanni
kun ana biraa dhufeef tokkoon tokkoon keessan gara mana keessaniitti galaa.’ ”
Kanaafuu isaan dubbii Waaqayyoo dhaga’anii akkuma Waaqayyo ajaje sanatti mana
ofii isaaniitti dacha’an.

### *Jabbiiwwan Warqee Irraa Tolfaman*

25 Yerobi’aamis ergasii biyya gaaraa Efreem keessatti Sheekemin jabeessee ijaaree
achi jiraate. Achiis ba’ee Phenuu’eelin ijaare.
26 Yerobi’aam akkana jedhee garaa isaatti yaade; “Amma mootummaan mana
Daawitiif ni deebi’a. 27 Namoonni kunneen yoo mana qulqullummaa Waaqayyoo kan
Yerusaalem jiru sanatti aarsaa dhi’eessuuf ol ba’an amma illee gara gooftaa isaanii
Rehoobo’aam mooticha Yihuudaatti garagalu. Isaan na ajjeesanii gara Rehoobo’aam
Mootichaatti deebi’u.”
28 Kanaafuu mootichi mari’atee jabbiiwwan lama warqee irraa tolche. Namoota
sanaanis, “Yerusaalemitti ol ba’uun akka malee isinitti ulfaata. Yaa Israa’el waaqonni
keessan kanneen Gibxii baasanii isin fidan kunoo ti” jedhe. 29 Innis jabbii tokko
Beet’eel keessa, kaan immoo Daan keessa dhaabe. 30 Wanni kunis cubbuu itti ta’e;
namoonnis jabbii achi jiru sana waaqeffachuuf hamma Daanitti deeman.
31 Yerobi’aamis gaara irratti iddoo sagadaa ijaaree saboota Lewwota hin ta’in
keessaa luboota muude. 32 Innis bultii kudha shanaffaa ji’a saddeettaffaa keessa
ayyaana akkuma ayyaana Yihuudaa keessatti ayyaaneffame sanaa tokko hundeessee
iddoo aarsaa irratti qalma dhi’eesse. Kanas fakkiiwwan jabbii kanneen tolchee
ture sanaatiif aarsaa dhi’eessuudhaan Beet’eelitti hojjete. Akkasumas Beet’eelitti
iddoo sagadaa kan gaara irratti ijaaree ture sanatti luboota ramade. 33 Innis bultii
kudha shanaffaa ji’a saddeettaffaatti ji’uma ofii filate keessa gara iddoo aarsaa kan
Beet’eelitti ijaare sanaatti ol ba’e. Saba Israa’eliifis guyyaa ayyaanaa hundeessee
ixaana aarsuuf gara iddoo aarsaatti ol ba’e.

## 13

### *Nama Waaqaa Yihuudaadhaa Dhufe*

1 Utuma Yerobi’aam aarsaa dhi’eessuuf iddoo aarsaa bira dhaabachaa jiruu namni
Waaqaa tokko ajaja Waaqayyootiin Yihuudaadhaa ba’ee Beet’eel dhufe. 2 Innis ajaja
Waaqayyootiin iddoo aarsaa sanaan mormuudhaan iyyee akkana jedhe; “Yaa iddoo
aarsaa, yaa iddoo aarsaa! Waaqayyo akkana jedha; ‘Kunoo ilmi Yosiyaas jedhamu
tokko mana Daawit keessaa ni dhalata. Innis luboota iddoo sagadaa kan gaarran
irraa warra amma asitti aarsaa dhi’eessaa jiran kanneen aarsaa godhee sirratti ni
dhi’eessa; lafeen namaas sirratti ni gubama.’ ” 3 Namni Waaqaa sunis gaafasuma
akkana jedhee mallattoo kenne; “Mallattoon Waaqayyo dubbate kanaa dha; kunoo
iddoon aarsaa gargar baqaqa; daaraan isa irra jirus gad jiga.”
4 Yerobi’aam mootichi yommuu waan namni Waaqaa sun iyyee iddoo aarsaa kan
Beet’eel sanaan mormuudhaan dubbate dhaga’etti iddoo aarsaa biraa namichatti
harka qabee, “Isa qabaa!” jedhe. Harki inni namichatti qabe sun garuu gogee hafe;
innis harka isaa deebifachuu hin dandeenye. 5 Iddoon aarsaa sunis akkuma mallattoo
namni Waaqaa sun dubbii Waaqayyootiin kenne sanaatti gargari baqaqee daaraan
isa irra tures lafatti gad jige.
6 Mootichi nama Waaqaa sanaan, “Maaloo akka harki koo deebi’ee naa fayyuuf
Waaqayyo Waaqa kee jabeessii naa kadhadhu.” Kanaafuu namni Waaqaa sun
Waaqayyoon jabeessee kadhateef; harki mootichaas fayyee akkuma duraatti
deebi’eef.
7 Mootichi nama Waaqaa sanaan, “Kottu na wajjin mana kootti galiitii waa
nyaadhu; anis kennaa siifin kennaa” jedhe.

8 Namni Waaqaa sun garuu akkana jedhee mootichaaf deebii kenne; “Yoo ati
walakkaa qabeenya keetii illee naa kennite ani si wajjin hin deemu yookaan asitti
buddeena hin nyaadhu yookaan bishaan hin dhugu. 9 Ani, ‘Buddeena hin nyaatin
yookaan bishaan hin dhugin yookaan karaa dhufte kanaan hin deebi’in’ jedhamee
dubbii WAAQAYYOOTIIN ajajameeraatii.” 10 Kanaafuu inni karaa biraa qabatee deeme
malee karaa gara Beet’eel dhufe sanaan hin deebine.

11 Jaarsa raajii tokkotu Beet’eel keessa jiraachaa ture; ilmaan isaas gara isaa
dhufanii waan namni Waaqaa sun guyyaa sana achitti hojjete hunda isatti himan.
Isaan waan inni mootichaan jedhes abbaa isaaniitti himan. 12 Abbaan isaaniis, “Inni
karaa kamiin deeme?” jedhee isaan gaafate. Ilmaan isaa immoo karaa namni
Waaqaa kan Yihuudaadhaa dhufe sun qabatee deeme isatti argisiisan. 13 Kana
irratti inni ilmaan isaatiin, “Harree irra kooraa naaf kaa’aa” jedhe. Isaanis harree
irra kooraa keenyaaniif inni harree sana yaabbatee 14 gulufee nama Waaqaa sana
duukaa bu’e. Utuu inni muka qilxuu tokko jala taa’uus argee, “Namni Waaqaa kan
Yihuudaadhaa dhufe sun si’ii?” jedhee isa gaafate.

Namichis, “Eeyyee ana” jedhee deebise.

15 Raajiin sunis, “Kottuu na wajjin mana kootti galiitii waa nyaadhu” jedheen.

16 Namni Waaqaa sun garuu akkana jedhee deebiseef; “Ani deebi’ee si wajjin
deemuu yookaan asitti si wajjin buddeena nyaachuu yookaan bishaan dhuguu
hin danda’u. 17 Ani, ‘Ati achitti buddeena hin nyaatin yookaan bishaan hin
dhugin yookaan karaa dhufte sanaan hin deebi’in’ jedhamee dubbii WAAQAYYOOTIIN
ajajameeraatii.”

18 Jaarsi raajiin sunis akkana jedhee deebii kenneef; “Ani iyyuu akkuma kee raajii
dha. Ergamaan Waaqayyoo tokkos dubbii WAAQAYYOOTIIN akkana naan jedhe; ‘Akka
inni buddeena nyaatee bishaan dhuguuf deebisii gara mana keetii isa fidi.’ ” Jaarsi
sun garuu isa sobe. 19 Kanaafuu namni Waaqaa sun isa wajjin deebi’ee mana isaatti
nyaatee dhuge.

20 Utuma isaan maaddiitti dhi’aatanii jiranuu dubbiin WAAQAYYOO jaarsa raajii isa
deebisee fide sanatti dhufe. 21 Innis nama Waaqaa kan Yihuudaadhaa dhufe sanatti
iyyee akkana jedhe; “WAAQAYYO akkana jedha, ‘Ati dubbii WAAQAYYOO xureessiteerta;
ajaja WAAQAYYO Waaqni kee siif kennes hin eegne. 22 Ati dugda duuba deebitee
lafa inni itti hin nyaatin yookaan hin dhugin siin jedhe sanatti buddeena nyaattee
bishaan illee dhugdeerta. Kanaafuu reeffi kee awwaala abbootii keetii keessatti hin
awwaalamu.’ ”

23 Yommuu namni Waaqaa sun nyaatee dhugee raawwatetti, raajiin deebisee isa
fide sun harree isaa irra kooraa kaa’eef. 24 Akkuma inni karaa ofii qabateen leenci
tokko karaa irratti itti dhufee isa ajjeese; reeffi isaas karaa irratti gatamee harree fi
leenci sun reeffa sana bira dhadhaabatanii turan. 25 Namoonni achiin darban tokko
tokko reeffa karaa irratti gatamee leenci bira dhaabate sana arganii gara magaalaa
jaarsi raajiin sun jiraatuu dhaqanii odeessan.

26 Raajichi karaadhaa deebisee isa fide sun yommuu waan kana dhaga’etti akkana
jedhe; “Inni nama Waaqaa kan dubbii WAAQAYYOOTIIF ajajamuu dide sanaa dha.
Akkuma dubbiin WAAQAYYOO isatti dubbatee ture sanatti WAAQAYYO leenca cicciree
isa ajjeesutti dabarsee isa kenne.”

27 Raajiin sunis ilmaan ofii isaatiin, “Harree irra kooraa naaf kaa’aa” jedhe; isaanis
akkasuma godhan. 28 Innis ka’ee deemee reeffa namichaa kan karaa irratti gatamee
harree fi leenci sun bira dhadhaabatan arge. Leenci sun immoo reeffa sana hin
nyaanne yookaan harree sana hin ciccirre. 29 Kanaafuu raajiin sun boo’eefii isa
awwaaluuf jedhee reeffa nama Waaqaa sana harree irra kaa’ee fudhatee magaalaa

ofii isaatti gale. 30 Innis reeffa sana awwaala ofii isaa keessa ciibse; isaanis, “Wayyoo,
yaa obboleessa koo!” jedhanii boo’aniif.

31 Innis erga isa awwaalee booddee ilmaan ofii isaatiin akkana jedhe; “Yoo ani du’e
awwaala namni Waaqaa kun itti awwaalame keessatti na awwaalaa; lafee koos lafee
isaa bira kaa’aa. 32 Ergaan inni iddoo aarsaa kan Beet’eel keessaatii fi iddoowwan
sagadaa kanneen magaalaawwan Samaariyaa keessa gaarran irra jiran sana hundaan
mormuudhaan dubbii WAAQAYYOOTIIN labse sun dhugumaan ni guutamaatii.”

33 Kana booddees Yerobi’aam karaa isaa hamaa sana irraa hin deebine; garuu
amma illee iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa sanaaf saba hunda keessaa
luboota muude. Innis nama luba ta’uu fedhu kam iyyuu iddoo sagadaa sanaaf addaan
baase. 34 Cubbuun mana Yerobi’aam kan kufaatii isaatii fi lafa irraa badiisa isaa fide
sun kana ture.

# 14

*Raajii Ahiiyaan Yerobi’aamiin Mormee Dubbate*

1 Yeroo sana Abiyaan ilmi Yerobi’aam dhukkubsannaan 2 Yerobi’aam niitii ofii
isaatiin akkana jedhe; “Ati niitii Yerobi’aam ta’uun kee akka hin beekneef eenyum-
maa kee dhoksiitii ka’ii Shiiloo dhaqi. Ahiiyaan raajichi akka ani saba kana irratti
mootii ta’u natti hime sun achi jiraatii. 3 Buddeena kudhan, maxinoo muraasaa fi
damma okkotee tokko harkatti qabadhuu gara isaa dhaqi. Inni waan gurbaan kun
ta’u sitti hima.” 4 Kanaafuu niitiin Yerobi’aam waan inni jedheen sana gootee gara
mana Ahiiyaa Shiiloo dhaqxe.

Yeroo sana Ahiiyaan homaa hin argu ture; inni waan dulloomeef agartuun
isaa dadhabee tureetii. 5 WAAQAYYO garuu Ahiiyaadhaan akkana jedhe; “Niitiin
Yerobi’aam sababii ilmi ishee dhibameef waa’ee isaa si gaafachuuf dhufuutti jirti; ati
akkanaa fi akkana jedhii deebisiif. Isheen yommuu dhuftu nama biraa of fakkeessitee
dhufti.”

6 Ahiiyaan sagalee faana ishee dhageenyaan balbala irratti akkana jedheen; “Yaa
niitii Yerobi’aam ol seeni. Dubartii biraa of fakkeessuu yaaluun kee kun maaliif?
Ani ergaa hamaa sitti himuuf ergameera. 7 Dhaqiitii WAAQAYYO Waaqni Israa’el
akkana jedha jedhiitii Yerobi’aamitti himi: ‘Ani saba keessaa si kaafadheen bulchaa
saba koo Israa’el si godhe. 8 Ani mana Daawit irraa mootummaa tarsaaseen siif
kenne; ati garuu akka garbicha koo Daawit kan ajajawwan koo eegee garaa isaa
guutuun na duukaa bu’ee waan fuula koo duratti qajeelaa ta’e qofa hojjete sanaa hin
taane. 9 Ati warra siin dura jiraatan hunda caalaa waan hamaa hojjetteerta. Ati ofii
keetiif waaqota biraa fakkiiwwan baqfamanii hojjetaman tolfattee dheekkamsaaf na
kakaafte; dugda kee duubattis na gatte.

10 “ ‘Sababii kanaaf ani amma mana Yerobi’aam irratti badiisa nan fida. Ani
mana Yerobi’aamii dhiira hunda, garbicha yookaan birmaduu Israa’el keessaa nan
balleessa. Ani akkuma namni tokko kosii gubee barbadeessutti mana Yerobi’aam
gubeen barbadeessa. 11 Nama maatii Yerobi’aam ta’e kam iyyuu kan magaalaa
keessatti du’e sareetu nyaata; kan baadiyyaatti du’e kam iyyuu immoo allaattii
samiitu nyaata. WAAQAYYO waan kana dubbateeraatii!’

12 “Ati garuu mana keetti gali. Yeroo miilli kee magaalaa seenutti mucaan sun
ni du’a. 13 Warri Israa’el hundinuu boo’aniifii isa ni awwaalu. Waan WAAQAYYO
Waaqni Israa’el mana Yerobi’aam keessaa isa qofa irratti waan gaarii argeef, mana
Yerobi’aam keessaa namni awwaala argatu isa qofa ta’a.

14 “WAAQAYYO Israa’el irratti mootii tokko ofii isaatiif ni kaafata; mootiin sunis
maatii Yerobi’aam kutee balleessa. Guyyaan isaas har’a! Kunis ammuma ta’a.
15 WAAQAYYO Israa’elin dha’ee akkuma shambaqqoo bishaan keessaatti ni raasa.

Sababii isaan utubaawwan Aasheeraa dhadhaabanii WAAQAYYOON dheekkamsiisaniif
inni biyya abbootii isaaniitiif kenne gaarii sana keessaa Israa'elin buqqisee Laga
Efraaxiisiin gamatti isaan ni bittinneessa. [16] Innis sababii cubbuu Yerobi'aam hojjetee
akka Israa'elis hojjetu godhe sanaatiif saba Israa'el ni gata."
[17] Niitiin Yerobi'aam kaatee Tiirzaa dhaqxe. Akkuma isheen gulantaa balbalaa
geesseen mucaan sun ni du'e. [18] Jarris isa awwaalan; Israa'el hundinuus akkuma
WAAQAYYO karaa garbicha isaa Ahiiyaa raajichaatiin dubbate sana ni boo'aniif.
[19] Wanni Yerobi'aam hojjete kan biraa, akki inni itti lolaa turee fi akki inni itti
biyya bulchaa ture kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffameera. [20] Innis
waggaa digdamii lama bulchee ergasii abbootii isaa wajjin boqote. Ilmi isaa Naadaab
mootii ta'ee iddoo isaa bu'e.

*Rehoobo'aam Mooticha Yihuudaa*
*14:21,25-31 kwf – 2Sn 12:9-16*

[21] Rehoobo'aam ilmi Solomoon biyya Yihuudaa keessatti mootii ture. Yeroo inni
mootii ta'etti umuriin isaa waggaa afurtamii tokko ture; innis waggaa kudha torba
Yerusaalem magaalaa WAAQAYYO Maqaa ofii isaa achi kaa'achuuf jedhee gosoota
Israa'el hunda keessaa filate sana keessatti mootii ta'ee bulche. Maqaan haadha isaa
Na'amaa ture; isheenis gosa Amoon turte.
[22] Yihuudaan fuula WAAQAYYOO duratti hammina hojjete. Isaanis cubbuu hojje-
taniin hamma abbootiin isaanii hojjetan sana caalaa dheekkamsa isaa kakaasan.
[23] Akkasumas iddoo ol ka'aa hunda irrattii fi mukkeen babal'aa hunda jalatti
iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa, soodduuwwan dhagaatii fi siidaawwan
Aasheeraa ofii isaaniitiif tolfatan. [24] Manni sagadaa dhiirota sagaagalaniis biyya
sana keessa ture; namoonni sun gochawwan jibbisiisoo kan saboota WAAQAYYO fuula
Israa'elootaa duraa ari'ee baase sanaa hunda keessatti hirmaatan.
[25] Waggaa shanaffaa Rehoobo'aam mootii ta'etti Shiishaaq mootiin Gibxi
Yerusaalemin waraane. [26] Innis qabeenya mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi
qabeenya masaraa mootummaa guurratee deeme. Gaachanawwan warqee kanneen
Solomoon hojjete dabalatee waan hunda guurratee gale. [27] Kanaafuu Rehoobo'aam
mootichi iddoo isaanii buusuuf jedhee gaachana naasii hojjetee ajajjuuwwan eegdota
dabaree eegumsa balbala masaraa mootummaatti kenne. [28] Yeroo mootichi gara
mana qulqullummaa WAAQAYYOO dhaqu hunda eegdonni sun gaachana sana baatanii
ergasii immoo kutaa eegdotaatti deebisu ture.
[29] Wantoonni Rehoobo'aam bara mootummaa keessa ta'anii fi wanni inni
hojjete hundinuu kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru
mitii? [30] Rehoobo'aamii fi Yerobi'aam gidduu waraana gargari hin cinnetu ture.
[31] Rehoobo'aamis abbootii ofii wajjin boqotee Magaalaa Daawit keessatti isaan biratti
awwaalame. Maqaan haadha isaa Na'amaa ture; isheenis gosa Amoon turte. Ilmi isaa
Abiyaan iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 15

*Abiyaan Mooticha Yihuudaa*
*15:1-2,6-8 kwf – 2Sn 13:1-2,22–14:1*

[1] Bara mootummaa Yerobi'aam ilma Nebaat keessa, waggaa kudha saddeettaffaatti
Abiyaan mootii Yihuudaa ta'e; [2] innis Yerusaalem keessa jiraatee waggaa sadii ni
bulche. Maqaan haadha isaa Ma'akaa ture; isheen intala Abiishaaloom turte.
[3] Innis cubbuu abbaan isaa isaan dura hojjete hunda hojjete; garaan isaa akka
garaan abbaa isaa Daawit ture sana guutumaan guutuutti WAAQAYYO Waaqa isaatiif
hin kennamne. [4] Ta'u illee WAAQAYYO Waaqni isaa Daawitiif jedhee akka inni isa
dhaaluuf ilma isaaf kaasuu fi Yerusaalem jajjabeessuudhaan Yerusaalem keessatti

ibsaa kenneef. 5 Daawit yakka Uuriyaa namicha Heet sana irratti hojjete malee
fuula WAAQAYYOO duratti waan qajeelaa hojjechuudhaan bara jireenya isaa guutuu
ajajawwan WAAQAYYOO eege.
6 Bara jireenya Abiyaa hunda keessa Rehoobo'aamii fi Yerobi'aam gidduu
waraanatu ture. 7 Wanni bara bulchiinsa Abiyaan keessa ta'e kan biraa fi wanni inni
hojjete hundi kitaaba seenaa moototа Yihuudaa keessatti barreeffamee jira mitii?
Abiiyaa fi Yerobi'aam gidduu waraanatu ture. 8 Abiyaanis Abbootii ofii isaa wajjin
boqotee Magaalaa Daawit keessatti awwaalame. Ilmi isaa Aasaan iddoo isaa bu'ee
mootii ta'e.

*Aasaa Mooticha Yihuudaa*
*15:9-22 kwf – 2Sn 14:2-3; 15:16–16:6*
*15:23-24 kwf – 2Sn 16:11–17:1*

9 Bara mootummaa Yerobi'aam mooticha Israa'el keessa waggaa digdammaffaatti
Aasaan mootii Yihuudaa ta'e; 10 innis waggaa afurtamii tokko Yerusaalemin bulche.
Maqaan akkoo isaa Ma'akaa ture; isheen intala Abiishaaloom turte.
11 Aasaan akkuma Daawit Abbaan isaa hojjete sana waan fuula WAAQAYYOO duratti
qajeelaa ta'e hojjete. 12 Inni mana sagadaa kan dhiirota sagaagalanii biyya sanaa
balleessee waaqota tolfamoo abbootiin isaa hojjetan hundas barbadeesse. 13 Akkoo
isaa Ma'akaa iyyuu waan isheen fakkii Asheeraa jibbisiisaa tokko tolfatteef iddoo
ulfinaa kan isheen akka haadha mootiitti qabaatte sana irra ishee buuse. Aasaan
fakkii sana diigee Sulula Qeedroon keessatti ni gube. 14 Yoo inni iddoowwan
sagadaa kanneen gaarran irraa guutumaan guutuutti balleessuu baate iyyuu bara
jireenya isaa guutuu garaan Aasaa WAAQAYYOOF kennamee ture. 15 Innis meetii fi
warqee akkasumas mi'oota innii fi abbaan isaa Waaqaaf addaan baasan gara mana
qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ni galche.
16 Aasaa fi Ba'ishaan mooticha Israa'el gidduu bara mootummaa isaanii guutuu
waraanatu ture. 17 Ba'ishaan mootichi Israa'el biyya Yihuudaatti duulee akka namni
tokko iyyuu daangaa biyya Aasaa mooticha Yihuudaa keessaa hin baane yookaan
akka achi hin seenne gochuudhaaf jedhee Raamaa jabeessee ijaare.
18 Aasaanis meetii fi warqee mankuusa mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi
masaraa mootummaa ofii isaa keessatti hafe hunda fudhate. Innis waan kana
qondaaltota isaatti imaanaa kennee gara Ben-Hadaad ilma Xabrimoon ilma Heziyoon
mooticha Sooriyaa kan Damaasqoo taa'ee bulchaa ture sanaatti isaan erge. 19 Innis,
“Akkuma walii galtee kanaan dura abbaa koo fi abbaa kee gidduu ture sanaatti
ammas anaa fi si gidduu walii galteen haa jiraatu. Kunoo ani kennaa meetii fi warqee
siif ergeera. Akka inni narraa deebi'uuf dhaqiitii walii galtee Ba'ishaan mooticha
Israa'el wajjin qabdu sana diigi” jedheen.
20 Ben-Hadaadis yaada Aasaa Moottichaa fudhatee ajajjuuwwan loltoota isaa maga-
alaawwan Israa'elitti duulchise. Innis Iiyoon, Daan, Abeel Beet Ma'aakaa fi Kinereeti
hunda Niftaalemin dabalee of jala galfate. 21 Ba'ishaanis yommuu waan kana
dhaga'etti Raamaa ijaaruu dhiisee Tiirzaatti gale. 22 Aasaan mootichis guutummaa
Yihuudaatti ajaja baase; namni tokkos hin hambifamne; isaanis dhagaawwanii fi
muka Ba'ishaan achitti ittiin hojjechaa ture Raamaadhaa fudhatanii deeman. Aasaa
mootichis Beniyaam keessatti Gebaa, akkasumas Miisphaa ittiin ijaarrate.
23 Wantoonni bara mootummaa Aasaa keessa hojjetaman kanneen biraa hundi,
jabinni isaa hundi, wanni inni hojjete hundii fi magaalaawwan inni ijaare kitaaba
seenaa moototа Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru mitii? Bara dulluma isaa keessa
garuu miilli isaa ni dhukkubsate. 24 Ergasii Aasaan abbootii ofii wajjin boqotee
magaalaa abbaa isaa magaalaa Daawit keessatti abbootii isaa biratti awwaalame.
Yehooshaafaax ilmi isaas iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

### *Naadaab Mooticha Israa'el*

25 Naadaab ilmi Yerobi'aamis bara Aasaan mootichi Yihuudaa mootii ta'e keessa
waggaa lammaffaatti mootii Israa'el ta'ee waggaa lama Israa'elin bulche. 26 Innis
karuma abbaa isaa irra deemee cubbuu abbaan isaa hojjetee saba Israa'elinis
hojjechiise sana hojjechuudhaan fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete.
27 Utuma Naadaabii fi sabni Israa'el hundi magaalaa Filisxeemotaa kan Gibetoon
jedhamtu marsaa jiranuu Ba'ishaan ilmi Ahiiyaa namichi biyya Yisaakor sun
Naadaabitti fincilee Gibetoon keessatti dha'ee isa ajjeese. 28 Ba'ishaanis bara Aasaan
mootichi Yihuudaa mootii ta'e keessa waggaa sadaffaatti Naadaabin ajjeesee iddoo
isaa bu'ee mootii ta'e.
29 Inni akkuma mootii ta'een maatii Yerobi'aam hunda fixe. Akkuma dubbii
WAAQAYYO karaa garbicha isaa Ahiiyaa namicha Shiilootiin dubbatee ture sanaatti
hunda isaanii fixe malee nama hafuura baafatu tokko illee Yerobi'aamiif hin
hambifne. 30 Kunis sababii cubbuu Yerobi'aam hojjetee saba Israa'elis cubbuu
hojjechiisuudhaan WAAQAYYO Waaqa Israa'el dheekkamsaaf kakaaseefii dha.
31 Wantoonni biraa kanneen bara mootummaa Naadaab keessa hojjetamanii fi
wanni inni hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffamaniiru
mitii? 32 Aasaa fi Ba'ishaan mooticha Israa'el gidduu bara mootummaa isaanii guutuu
waraanatu ture.

### *Ba'ishaan Mooticha Israa'el*

33 Bara Aasaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa sadaffaatti Ba'ishaan ilmi Ahiiyaa
Tiirzaa keessatti Israa'el hunda irratti mootii ta'ee waggaa digdamii afur bulche.
34 Innis karuma Yerobi'aam irra deemee cubbuu Yerobi'aam hojjetee saba Israa'elis
hojjechiise sana hojjechuudhaan fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete.

## 16

1 Ergasiis dubbiin WAAQAYYOO Ba'ishaaniin mormuudhaan akkana jedhee gara
Yehuu gara ilma Hanaanii dhufe: 2 "Ani awwaara keessaa si kaaseen bulchaa
saba koo Israa'el si godhe; ati garuu karaa Yerobi'aam deemtee saba koo Israa'elin
cubbuu hojjechiiftee akka isaan cubbuu isaaniitiin dheekkamsaaf na kakaasan goote.
3 Kanaafuu ani Ba'ishaanii fi mana isaa nan barbadeessa; mana kee illee akkuma
mana Yerobi'aam ilma Nebaat sanaa nan godha. 4 Namoota Ba'ishaan kanneen
magaalaa keessatti dhuman sareetu nyaata; kanneen baadiyyaatti dhuman immoo
allaattii samiitu nyaata."
5 Wantoonni biraa kanneen bara mootummaa Ba'ishaan keessa hojjetaman, wanni
inni hojjetee fi jabinni isaa kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffamaniiru
mitii? 6 Ba'ishaan abbootii ofii wajjin boqotee Tiirzaa keessatti awwaalame. Ilmi isaa
Eelaan iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
7 Sababii inni akkuma mana Yerobi'aam ta'uudhaan hojii harka isaatiin Waaqa
dheekkamsaaf kakaasee Yerobi'aaminis ajjeesuudhaan hammina fuula WAAQAYYOO
duratti hojjete hundaaf dubbiin WAAQAYYOO karaa Yehuu raajichaa ilma Hanaaniin
gara Ba'ishaanii fi mana isaa dhufe.

### *Eelaa Mooticha Israa'el*

8 Bara Aasaan mootichi Yihuudaa mootii ta'e keessa waggaa digdamii ja'affaatti
Eelaan ilmi Ba'ishaan Tiirzaa keessatti mootii Israa'el ta'ee waggaa lama bulche.
9 Garuu qondaaltota isaa keessaa namichi Zimrii jedhamu kan gaariiwwan isaa
keessaa walakkaa ajaju tokko isatti malate. Yeroo sanatti Eelaan Tiirzaa keessatti
mana Arzaa namicha bulchaa masaraa mootummaa kan Tiirzaa keessaa sanaatti
dhugee machaa'aa ture. 10 Zimriinis bara mootummaa Aasaa mooticha Yihuudaa
keessaa waggaa digdamii torbaffaatti ol seenee Eelaa dha'ee ajjeese. Iddoo isaas
bu'ee mootii ta'e.

11 Innis akkuma mootii ta’ee teessoo irra taa’een maatii Ba’ishaan hunda fixe. Fira
isaa yookaan michuu isaa keessaa dhiira tokko illee hin hambifneef. 12 Akkasiin
Zimriin akkuma dubbii WAAQAYYOO kan Ba’ishaaniin mormuudhaan karaa Yehuu
raajichaatiin dubbatame sanaatti maatii Ba’ishaan hunda barbadeesse; 13 kunis
sababii cubbuu Ba’ishaanii fi ilmi isaa Eelaan hojjetanii akka Israa’eloonnis hojjetan
gochuudhaan waaqota isaanii tolfamoo kanneen faayidaa hin qabneen WAAQAYYO
Waaqa Israa’el dheekkamsaaf kakaasaniif ta’e.
14 Wantoonni bara mootummaa Eelaa keessa hojjetaman kanneen biraatii fi wanni
inni hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru mitii?

### *Zamrii Mooticha Israa’el*

15 Zimriin bara mootummaa Aasaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa digdamii
torbaffaatti Tiirzaa keessatti mootii ta’ee bultii torba bulche. Loltoonnis Gibetoon ma-
gaalaa Filisxeemotaa bira qubatan. 16 Israa’eloonni qubata keessa turanis yommuu
akka Zimriin moottichatti ka’ee isa ajjeese dhaga’anitti gaafasuma qubata sana
keessatti Omrii ajajaa loltootaa sana mootii Israa’el taasisan. 17 Omrii fi Israa’eloonni
isa wajjin turan hundi Gibetoon keessaa ba’anii Tiirzaa marsan. 18 Zimriinis
yommuu akka magaalaan sun qabame argetti dallaa masaraa mootummaa seenee
masaraa mootummaa of irratti gubee du’e. 19 Wanni kunis sababii inni fuula
WAAQAYYOO duratti hammina hojjechuu fi karaa Yerobi’aam irra deemuudhaan
cubbuu Yerobi’aam hojjetee Israa’elootas hojjechiise sana hojjeteef ta’e.
20 Wantoonni Zimriin bara mootummaa isaa keessa hojjete biraatii fi fincilli inni
kaase kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru mitii?

### *Zanbarii Mooticha Israa’el*

21 Ergasii sabni Israa’el garee lamatti qoodame; gareen tokko Tiibnii ilma Giinat
mootii godhachuuf isa duukaa bu’e; gareen kaan immoo Omrii duukaa bu’e. 22 Garuu
duukaa buutonni Omrii duuka buutota Tiibnii ilma Giinat sana caalaa jabaatan.
Kanaafuu Taamniin du’ee Omriin mootii ta’e.
23 Omriinis bara mootummaa Aasaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa soddomii
tokkoffaatti mootii Israa’el ta’ee waggaa kudha lama bulche; waggoota kanneen
keessaa waggaa ja’a Tiirzaa keessa taa’ee bulche. 24 Innis namicha Shemeer jedhamu
irraa meetii taalaantii lamaan gaara Samaariyaa bitee magaalaa tokko gaara sana
irratti ijaare; magaalaa sanas Samaariyaa jedhee maqaa Saamir abbaa gaara sanaa
kan duriitiin moggaase.
25 Omriin garuu fuula WAAQAYYOO duratti hammina hojjetee namoota isa duraan
turan hunda caalaa cubbame. 26 Innis karaa Yerobi’aam ilma Nebaat hunda irra
deemee cubbuu Yerobi’aam hojjetee saba Israa’elis hojjechiisee akka isaan waaqota
isaanii tolfamoo kanneen faayidaa hin qabneen WAAQAYYOON Waaqa Israa’el aariif
kakaasan godhe.
27 Wantoonni bara mootummaa Omrii keessa hojjetaman kaan, wanni inni hojjetee
fi jabinni inni argisiise kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru
mitii? 28 Omriin abbootii ofii isaa wajjin boqotee Samaariyaatti awwaalame. Ahaab
ilmi isaa iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

### *Ahaab Mootii Israa’el Ta’e*

29 Ahaab ilmi Omrii bara mootummaa Aasaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa
soddomii saddeettaffaatti mootii Israa’el ta’ee Samaariyaa taa’ee waggaa digdamii
lama bulche. 30 Ahaab ilmi Omrii warra isa duraan turan kam iyyuu caalaa fuula
WAAQAYYOO duratti hammina hojjete. 31 Innis cubbuu Yerobi’aam ilmi Nebaat hojjete
sana hojjechuu akka waan salphaa tokkootti ilaaluu bira darbee Iizaabel intala
Eteba’aal mooticha Siidoonotaa fuudhe; dhaqees Ba’aalin tajaajiluu fi waaqeffachuu
jalqabe. 32 Innis mana Ba’aal itti waaqeffatamu tokko Samaariyaatti ijaaree iddoo

aarsaa tokko achi keessa dhaabe. 33 Ahaab ammas siidaa Aasheeraa dhaabee
waan mootonni Israa'el kanneen isa duraan turan hundi hojjetan caalaa hojjetee
WAAQAYYOON Waaqa Israa'el aariif kakaase.

34 Bara Ahaab keessa Hii'eel namichi Beet'eel tokko Yerikoo deebisee ijaare.
Akkuma dubbii WAAQAYYOO kan karaa Iyyaasuu ilma Nuunitiin dubbatame sanaatti
gaafa inni hundeewwan Yerikoo buusetti Abiiraam ilma isaa hangafatu du'e; gaafa
inni karrawwan isaa dhaabetti immoo Seguub ilma isaa quxisuu hundaatu du'e.

# 17

### *Eeliyaas Arraagessaan Sooramuu Isaa*

1 Eeliyaas namichi Tishbii kan biyya Gili'aad keessaa magaalaa Tishbiitii dhufe
tokko Ahaabiin akkana jedhe; "Dhugaa Waaqa Israa'el, WAAQAYYO jiraataa ani isa
tajaajilu sanaa! Yoo ani dubbadhe malee waggoota muraasa dhufan keessa fixeensi
yookaan bokkaan hin jiraatu."

2 Dubbiin WAAQAYYOOS akkana jedhee gara Eeliyaas dhufe; 3 "Asii deemiitii gara
ba'a biiftuutti qajeelii Laga Keriit kan gama ba'a Yordaanositti argamu keessa
dhokadhu. 4 Ati Laga sana keessaa bishaan ni dhugda; anis akka isaan achitti si
sooraniif arraageyyii ajajeera."

5 Kanaafuu inni dhaqee waan WAAQAYYO isa ajaje sana godhe. Gara Laga Keriit kan
gara ba'a Yordaanositti argamu sanaas deemee achi jiraate. 6 Arraageyyiinis ganama
ganama buddeenaa fi foon, galgala galgalas buddeenaa fi foon fidaafii turan; innis
bishaan Laga sanaa dhuga ture.

### *Haadha Hiyyeessaa Kan Saraaptaa Jiraattu*

7 Yeroo gabaabaa booddee sababii biyya sana keessa roobni hin jiraatiniif lagichis
ni goge. 8 Kana irratti dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara isaa dhufe; 9 "Dafii
gara Saraaphtaa Siidoonaa keessatti argamtu sanaa dhaqiitii achi jiraadhu. Ani akka
isheen waan ati nyaattu siif kennituuf haadha hiyyeessaa tokko achitti ajajeeraa."
10 Kanaafuu inni ka'ee Saraaphtaa dhaqe. Yommuu inni karra magaalaa sanaa bira
ga'etti haati hiyyeessaa tokko qoraan funaannachaa turte. Innis ishee waamee,
"Maaloo akka ani dhuguuf bishaan xinnoo naa fidi" jedheen. 11 Akkuma isheen
bishaan fiduuf deemuu jalqabdeenis ishee waamee, "Maaloo buddeena xinnaa isaa
illee naa fidi" jedheen.

12 Isheen immoo akkana jettee deebifte; "Dhugaa WAAQAYYO Waaqa kee jiraataa
sanaa, ani daakuu konyee tokkittii okkotee keessa jirtuu fi zayitii xinnoo kubbaayyaa
keessa jirtu tokko malee buddeena tokko illee hin qabu. Ani akka nu nyaannee
duunuuf manatti galee ofii kootii fi ilma kootiif nyaata qopheessuuf jedhee qoraan
funaannachaan jira."

13 Eeliyaasis akkana jedhee deebiseef; "Hin sodaatin. Galiitii akkuma jette sana
godhi. Jalqabatti garuu waanuma qabdu sana irraa Maxinoo xinnaa isaa tolchii naa
fidi; ergasii immoo ofii keetii fi mucaa keetiif qopheessi. 14 WAAQAYYO Waaqni Israa'el
akkana jedhaatii; 'Hamma guyyaa WAAQAYYO lafa irratti bokkaa roobsuutti daakuun
okkotee keessaa hin dhumu; zayitiinis cuggee keessaa hin dhumu.' "

15 Isheenis dhaqxee akkuma Eeliyaas jedheen sana goote. Kanaafuu Eeliyaas,
dubartiin sunii fi maatiin ishee guyyaa baay'ee nyaatan. 16 Akkuma dubbii
WAAQAYYOO kan inni karaa Eeliyaasiin dubbate sanaatti daakuun okkotee keessaa
hin dhumne; zayitiinis cuggee keessaa hin dhumne.

17 Ergasiis ilmi haadha mana sanaa ni dhukkubsate. Dhukkubni isaas ittuma
jabaachaa deemee dhuma irratti hafuura baafachuu dadhabe. 18 Isheenis Eeliyaasiin,

“Yaa nama Waaqaa, ati hammina maalii narraa qabda? Ati waa’ee cubbuu koo na
yaadachiiftee ilma koo ajjeesuuf dhuftee?” jette.

19 Eeliyaas immoo, “Mee ilma kee natti kenni” jedheen. Innis harka isheetii fuudhee
baatee kutaa manaa kan ol aanu iddoo ofii jiraatutti geessee siree isaa irra isa ciibse.
20 Ergasii inni, “Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, ati akka mucaan ishee du’u gochuudhaan
haadha hiyyeessaa kan ani gargaarsa isheetiin jiraadhu kanatti illee rakkoo fiddee?”
jedhee gara WAAQAYYOOTTI iyye. 21 Innis yeroo sadii mucaa sana irratti diriiree,
“Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, mucaa kana lubbuun isaa itti haa deebitu” jedhee gara
WAAQAYYOOTTI iyye.

22 WAAQAYYOS iyya Eeliyaas ni dhaga’e; lubbuun mucaa sanaas itti deebite; innis ni
jiraate. 23 Eeliyaasis mucaa sana baatee kutaa ol aanu sana keessaa gad buusee gara
manaatti isa geesse. Haadha isaattis isa kennee, “Kunoo mucaan kee jira!” jedheen.

24 Kana irratti dubartiin sun Eeliyaasiin, “Ani amma akka ati nama Waaqaa taatee
fi akka dubbiin WAAQAYYOO kan afaan keetii ba’u dhugaa ta’e beekeera” jette.

# 18

*Eeliyaasii fi Obaadiyaa*

1 Yeroo dheeraa booddee, waggaa sadaffaatti dubbiin WAAQAYYOO, “Dhaqiitii
Ahaabitti of mul’isi; anis lafa irratti bokkaa nan roobsaa” jedhee gara Eeliyaas dhufe.
2 Kanaafuu Eeliyaas Ahaabitti of mul’isuu dhaqe.

Yeroo kanatti Samaariyaa keessatti beelli hammaatee ture. 3 Ahaabis Obaadiyaa
itti gaafatama masaraa mootummaa isaa waamee ture. Obaadiyaan nama akka
malee WAAQAYYOON sodaatu ture. 4 Yeroo Iizaabel raajota WAAQAYYOO ajjeesaa turtetti
Obaadiyaan raajota dhibba tokko fuudhee shantama shantamaan holqa lama keessa
dhoksee nyaataa fi bishaan dhi’eessaafii ture. 5 Ahaabis Obaadiyaadhaan akkana
jedhe; “Biyyattii keessa deemiitii gara burqaawwanii fi sululawwan hundaa dhaqi.
Akka horii keenya keessaa tokko iyyuu nu jalaa hin duuneef fardeenii fi gaangolii
keenya jiraachifachuuf marga muraasa arganna ta’aatii.” 6 Kanaafuu isaan biyya
keessa deemanii waliin ga’uu barbaadan sana gargari qooddatan; Ahaab karaa tokko,
Obaadiyaan immoo karaa kaan qajeele.

7 Utuma Obaadiyaan karaa deemuu Eeliyaas isatti dhufe. Obaadiyaan isa beekee
gad jedhee harka fuudhee, “Eeliyaas gooftaan koo dhugumaan si’ii?” jedheen.

8 Innis deebisee, “Eeyyee, anuma. Dhaqiitii, ‘Eeliyaas as jira’ jedhii gooftaa keetti
himi” jedheen.

9 Obaadiyaanis akkana jedhee gaafate; “Ati akka inni na ajjeesuuf garbicha kee
dabarsitee Ahaabitti kennuun kee ani maal balleesseeti? 10 Dhugaa WAAQAYYO Waaqa
kee jiraataa sanaa, sabni yookaan mootummaan gooftaan koo si barbaaduuf jedhee
nama itti hin ergin tokko iyyuu hin jiru. Yeroo sabni yookaan mootummaan tokko,
‘Nu isa hin argine’ jedhutti, inni akka isaan akka si hin argin kakatan godha ture.
11 Amma garuu ati, ‘Dhaqiitii, “Kunoo Eeliyaas as jira” jedhiitii gooftaa keetti himi’
naan jetta. 12 Ani gara Hafuurri WAAQAYYOO erga ani si biraa deeme itti si geessu hin
beeku. Yoo ani dhaqee Ahaabitti himee inni immoo si arguu baate inni na ajjeesa.
Garuu ani garbichi kee dargaggummaa kootii jalqabee WAAQAYYOON waaqeffachaan
jira. 13 Yaa gooftaa ko, ati waan ani yeroo Iizaabel raajota WAAQAYYOO ajjeesaa
turtetti hojjedhe hin dhageenyee? Ani raajota WAAQAYYOO dhibba tokko shantama
shantamaan holqa lama keessa dhokseen nyaataa fi bishaan dhi’eesseef. 14 Amma
immoo ati, ‘Dhaqiitii, “Kunoo Eeliyaas as jira” jedhii gooftaa keetti himi’ naan jetta.
Inni dhugumaan na ajjeesa!”

15 Eeliyaasis deebisee, “Dhugaa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda’u kan ani isa
tajaajilu sanaa, ani har’a Ahaabitti ofan mul’isa” jedhe.

*Eeliyaas Tulluu Qarmeloos Irratti*

16 Kanaafuu Obaadiyaan gara Ahaab dhaqee itti hime; Ahaabis Eeliyaasin Simachuu
dhaqe. 17 Innis Eeliyaasin argee, “Kan Israa’elin jeequ sun si’ii?” jedheen.
18 Eeliyaas immoo deebisee akkana jedheen; “Si’ii fi mana abbaa keetiitu jeeqe
malee ani Israa’elin hin jeeqne. Isin ajaja WAAQAYYOO diddaniirtu; atis Ba’aal duukaa
buuteerta. 19 Egaa amma akka isaan Tulluu Qarmeloos irratti na arganiif saba Israa’el
hunda walitti naaf waami. Raajota Ba’aal dhibba afurii fi shantamaa fi raajota
Asheeraa dhibba afran maaddii Iizaabel irraa nyaatan sanas naaf fidi.”
20 Kanaafis Ahaab guutuu Israa’el keessa ergaa ergee Tulluu Qarmeloos irratti
raajota sana walitti qabe. 21 Eeliyaasis fuula sabaa duratti gad ba’ee, “Isin hamma
yoomiitti yaada lama gidduu deddeebitu? Yoo WAAQAYYO Waaqa ta’e, isa faana
deemaa; yoo Ba’aal Waaqa ta’e immoo isa faana deemaa” jedhe.

Sabni garuu waan tokko illee hin jenne.

22 Eeliyaasis akkana isaaniin jedhe; “Raajota WAAQAYYOO keessaa ana qofatu hafe;
Ba’aal garuu raajota dhibba afurii fi shantama qaba. 23 Mee jiboota lama nuuf fidaa.
Isaan dibicha tokko ofii isaaniitiif filatanii qalanii gargar ciranii qoraan irra haa
naqan; garuu ibidda itti hin qabsiisin. Anis dibicha isa kaan qopheessee qoraan
irra nan kaa’a; garuu ibidda itti hin qabsiisu. 24 Ergasii isin maqaa Waaqa keessanii
waamaa; anis maqaa WAAQAYYO nan waama. Kan ibiddaan deebii kennu inni Waaqa
dhugaa ti.”

Kana irratti namoonni hundinuu, “Wanni ati jettu kun gaarii dha” jedhan.

25 Eeliyaasis raajota Ba’aaliin akkana jedhe; “Jiboota keessaa isa tokko filadhaatii
sababii isin nama hedduu taataniif jalqabatti qalaa qopheessaa. Maqaa Waaqa
keessanii waammadhaa; garuu ibidda hin bobeessinaa.” 26 Kanaafuu isaan dibicha
isaaniif kenname fudhatanii qalanii qopheessan.

Ergasii immoo ganamaa jalqabanii hamma saafaatti maqaa Ba’aal waammachaa
oolan. “Yaa Ba’aal deebii nuuf kenni!” jedhanii iyyaa oolan. Garuu deebiin tokko
illee hin argamne; kan deebii kennuuf tokko iyyuus hin turre. Iddoo aarsaa kan
tolchan sanattis naanna’anii shubbisan.

27 Gara saafaattis Eeliyaas, “Mee sagalee ol fudhadhaatii iyyaa! Inni dhugumaan
Waaqa! Yaadni itti baay’ateera ta’a yookaan hojiin qabamee yookaan karaa deemee
jira ta’aatii. Inni rafuutti jira ta’aatii dammaquu qaba” jedhee isaanitti qoosuu
jalqabe. 28 Kanaafuu isaan akkuma amala isaanii sagalee ol fudhatanii iyyaa,
goraadee fi eeboodhaan of ciranii dhiiga ofii isaanii dhangalaasan. 29 Erga saafaan
darbees isaan hamma yeroon aarsaa galgalaa ga’utti raajii dubbachaa turan. Garuu
sagaleen tokko iyyuu hin dhaga’amne; kan deebii kenneef tokko iyyuu hin turre; kan
wayittuu isaan hedes hin jiru.

30 Eeliyaas immoo ergasii saba hundaan, “Mee as gara koo kottaa” jedhe. Isaan gara
isaa dhufnaan inni iddoo aarsaa WAAQAYYOO kan caccabee ture sana deebisee tolche.
31 Eeliyaasis akkuma baay’ina gosoota ilmaan Yaaqoob namicha dubbiin WAAQAYYOO
gara isaa dhufee, “Maqaan kee Israa’el ni ta’a” jedheen sanaatti dhagaa kudha lama
walitti qabe. 32 Dhagaawwan sanaanis maqaa WAAQAYYOOTIIN iddoo aarsaa tolche;
naannoo isaattis bo’oo bishaan gara liitira kudha shan qabatu baqaqse. 33 Innis
qoraan qopheessee, dibicha kaan qalee gargar ciree qoraan sana irra foon naqe.
Ergasii immoo, “Mee okkotee gurguddaa afur fidaa bishaaniin guutaatii aarsaa fi
qoraan irratti naqaa” jedheen.

34 Innis, “Amma illee akkasuma godhaa” jedheen; isaanis amma illee akkasuma
godhan.

Innis, “Yeroo sadaffaaf godhaa” jedhee ajaje; isaanis yeroo sadaffaa illee akkasuma
godhan. 35 Bishaan sunis naannoo iddoo aarsaa sanaa lola’ee bo’oo guute.
36 Yeroo aarsaan dhi’aatutti, Eeliyaas raajichi gad ba’ee akkana jedhee kadhate;
“Yaa WAAQAYYO, yaa Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaq, Waaqa Israa’el, akka ati
Israa’el keessatti Waaqa taatee fi akka anis garbicha kee ta’ee amma illee waan kana
hunda ajajuma keetiin akkan hojjedhe har’a haa beekamu. 37 Yaa WAAQAYYO deebii
naa kenni; yaa WAAQAYYO akka sabni kun akka ati Waaqa taatee fi akka ati garaa isaa
illee gara keetti deebiftu beekuuf deebii naaf kenni.”
38 Kana irratti ibiddi WAAQAYYOO gad bu’ee aarsaa, qoraan, dhagaa fi biyyoo gubee
bishaan bo’oo keessaa sanas xuuxee fixe.
39 Namoonni hundinuu yommuu waan kana arganitti addaan lafatti gombifamanii,
“WAAQAYYO inni Waaqa! WAAQAYYO inni Waaqa!” jedhanii iyyan.
40 Eeliyaasis, “Raajota Ba’aal kanneen qabaa. Tokkoon isaanii iyyuu hin miliqin!”
jedhee isaan ajaje. Isaanis jara ni qaban; Eeliyaasis gara Sulula Qiishoonitti geessee
achitti isaan gogorra’e.
41 Eeliyaasis Ahaabiin, “Deemi; nyaadhuu dhugi; huursaa bokkaa guddaa isaatu
dhaga’amaa jiraatii” jedhe. 42 Kanaafuu Ahaab nyaachuu fi dhuguuf deeme; Eeliyaas
garuu fiixee Qarmeloos ol ba’ee gad jedhee fuula isaa jilba isaa gidduu kaa’ate.
43 Innis hojjetaa isaatiin, “Dhaqiitii gara galaanaa ilaali” jedhe. Hojjetaan sunis ol
ba’ee ilaale.
Innis, “Wanni tokko iyyuu achi hin jiru” jedhe.
Eeliyaasis, “Yeroo torba, deddeebi’ii ilaali” jedheen.
44 Hojjetaan sun yeroo torbaffaatti, “Duumessa xinnaa hamma konyee namaa ga’u
tokkotu galaana irraa ol ka’aa jira” jedhee itti hime.
Kanaafuu Eeliyaas, “Dhaqiitii Ahaabiin, ‘Gaarii kee yaabbadhuutii utuu bokkaan si
hin qabatin gad bu’i’ jedhii itti himi” jedheen.
45 Yeruma sana samiin duumessaan gurraacha’ee bubbeen bubbise; bokkaan
guddaan isaa dhufnaan Ahaab gulufee Yizri’eelitti baqate. 46 Humni WAAQAYYOOS
Eeliyaas irra bu’e; innis mudhii isaa hidhatee hamma karra Yizri’eelitti Ahaab dura
darbee fiige.

# 19

*Eeliyaas Gara Kooreebitti Baqate*

1 Ahaab waan Eeliyaas hojjete hundaa fi akka inni itti raajota sana hunda
goraadeedhaan fixe Iizaabelitti hime. 2 Kanaafuu Iizaabel nama tokko Eeliyaasitti
ergitee, “Yoo ani bori yoona lubbuu kee akkuma lubbuu jara sanaa keessaa akka isa
tokkoo gochuu baadhe waaqonni na haa adaban; adabbiin sunis akka malee natti
haa cimu” jetteen.
3 Eeliyaas sodaatee lubbuu ofii isaa oolfachuuf ka’ee baqate. Innis yommuu
Bersheebaa Yihuudaa keessaa sana ga’etti hojjetaa ofii achitti dhiisee 4 ofii isaatii
immoo karaa guyyaa tokkoo gammoojjii keessa deeme. Innis muka ittachaa tokkotti
dhufee jala taa’ee akka du’uuf, “Yaa WAAQAYYO na dhaga’i; lubbuu koo fudhadhu;
ani abbootii koo hin caaluutii” jedhe. 5 Ergasiis muka sana jala ciisee hirribni isa
fudhate.
Kunoo ergamaan Waaqayyoo tokko isa tuqee, “Ka’ii waa nyaadhu” jedheen. 6 Innis
of irra mil’atee Maxinoo cilee irratti bilcheeffame tokkoo fi okkotee bishaanii mataa
ofii biratti arge. Nyaatee dhugees amma illee deebi’ee ciise.
7 Ergamaan WAAQAYYOO amma illee yeroo lammaffaa dhufee isa tuqee, “Ka’ii
nyaadhu; karaan ati deemtu dheeraadhaatii” jedheen. 8 Kanaafuu inni ka’ee nyaatee
dhuge. Innis nyaata sanaan jabaatee hamma tulluu Waaqaa kan Kooreeb jedhamu

ga'utti halkan afurtamaa fi guyyaa afurtama miillaan deeme. 9 Achittis holqa tokko
seenee keessa bule.

### *WAAQAYYO Eeliyaasitti Mul'ate*

Dubbiin WAAQAYYOOS gara isaa dhufee, "Eeliyaas, ati maal asii hojjetta?" jedheen.
10 Innis akkana jedhee deebise; "WAAQAYYO Waaqa Waan Hunda Danda'u sanaaf
ani akka malee hinaaffaa qaba. Sabni Israa'el immoo kakuu kee didee iddoowwan
aarsaa keetii diigee raajota kees goraadeedhaan fixe. Ana qofatu hafe; isaan amma
anas ajjeesuu barbaadu."
11 WAAQAYYOS, "Gadi ba'iitii fuula WAAQAYYOO dura tulluu irra dhaabadhu;
WAAQAYYO achiin darbuuf jiraatii" jedheen.
Bubbeen guddaa fi jabaan tokko fuula WAAQAYYOO duratti tulluuwwan gargari
dayyaasee kattaawwanis hurreesse; WAAQAYYO garuu bubbee sana keessa hin turre.
Bubbee sana booddee sochii lafaa guddaa isaatu ture; WAAQAYYO garuu sochii lafaa
sana keessa hin turre. 12 Sochii lafaa booddee ibiddi ni dhufe; WAAQAYYO garuu ibidda
sana keessa hin turre. Ibidda sana booddee immoo hasaasa xinnaa tokkotu ture.
13 Eeliyaas yommuu waan kana dhaga'etti uffata ofii isaa fuulatti haguuggatee gara
afaan holqa sanaatti hiiqee dhaabate.
Sagaleen tokkos, "Eeliyaas ati maal asii hojjetta?" jedheen.
14 Innis akkana jedhee deebise; "WAAQAYYO Waaqa Waan Hunda Danda'u sanaaf
ani akka malee hinaaffaa qaba. Sabni Israa'el immoo kakuu kee didee, iddoowwan
aarsaa keetii diigee raajota kees goraadeedhaan fixe. Ana qofatu hafe; isaan amma
anas ajjeesuu barbaadu."
15 WAAQAYYO garuu akkana jedhee deebiseef; "Karuma dhufte sanaan deebi'iitii
Gammoojjii Damaasqoo dhaqi. Yommuu achi geessutti Hazaa'eelin dibiitii Sooriyaa
irratti mootii godhi. 16 Yehuu ilma Nimshiis akkasuma dibiitii mootii Israa'el godhi;
Elsaa'i ilma Shaafaaxi kan warra Abeel Mehoolaa sana immoo akka inni raajii ta'ee
iddoo kee bu'uuf muudi. 17 Yehuun nama baqatee goraadee Hazaa'eel jalaa ba'u
hunda ni ajjeesa; Elsaa'is nama baqatee goraadee Yehuu jalaa ba'u hunda ni ajjeesa.
18 Ta'us ani nama kuma torba kanneen Israa'el keessatti hambifadhe, warra jilbi
isaanii Ba'aaliif hin jilbeenfatin, warra afaan isaaniis isa hin dhungatin qaba."

### *Waamamuu Elsaa'i*

19 Kanaafuu Eeliyaas achii ba'ee Elsaa'i ilma Shaafaaxi argate. Elsaa'i yeroo sanatti
qotiyyoo cimdii kudha lamaatiin lafa qotiisaa qotaa ture; inni mataan isaa immoo
cimdii kudha lammaffaa qabatee ture. Eeliyaas gara isaa dhaqee kaabbaa ofii isaa isa
irra buuse. 20 Elsaa'is qotiyyoo ofii isaa dhiisee Eeliyaas duukaa fiigee, "Mee takkaa
dhaqee abbaa koo fi haadha koo dhungadhee, 'Nagaatti' jedheen si duukaa bu'aa"
jedhe.
Eeliyaas immoo, "Deebi'i; ani maalin si godhee jira?" jedhee deebiseef.
21 Kanaafuu Elsaa'i isa dhiisee deebi'e. Qotiyyoo cimdii tokkoo fuudhee qale. Mi'a
ittiin lafa qotiisaa qotu sanas bobeessee foon sana bilcheessee namootaaf kenne;
isaanis ni nyaatan. Ergasiis ka'ee Eeliyaas duukaa bu'e; tajaajilaa isaas ta'e.

## 20

### *Ben-Hadaad Samaariyaa Lole*

1 Yeroo kanatti Ben-Hadaad mootichi Sooriyaa loltoota ofii isaa guutuu walitti
qabate. Mootonni soddomii lama kanneen fardeenii fi gaariiwwan qabanis isa
wajjin turan. Innis dhaqee Samaariyaa marsee lole. 2 Innis akkana jedhee gara
magaalaa Ahaab mooticha Israa'elitti ergamoota erge; "Wanni Ben-Hadaad jedhu

kanaa dha; [3] 'Meetiin keetii fi warqeen kee kanuma koo ti; niitonni keetii fi ijoolleen
kee babbareedoonis kanuma koo ti.' "

[4] Mootiin Israa'el immoo, "Yaa gooftaa koo mooticha, akkuma ati jette sana anii fi wanni ani qabu hundi keetuma" jedhee deebiseef.

[5] Ergamoonni sun ammas dhufanii akkana jedhaniin; "Wanni Ben-Hadaad jedhu kanaa dha; 'Ani akka ati meetii fi warqee kee, niitotaa fi ijoollee kee naaf kennituuf
ergaa sitti ergeera. [6] Garuu ani bor yoona masaraa mootummaa keetiitii fi manneen
qondaaltota keetii soquuf qondaaltota koo nan erga. Isaanis waan ati jaallattu hunda fudhatanii deemu.' "

[7] Mootichi Israa'el immoo maanguddoota biyya sanaa hunda walitti waamee akkana jedheen; "Akka namichi kun rakkina uumuu barbaadu mee isinuu ilaalaa! Yeroo inni niitotaa fi ijoollee koo, meetii fi warqee koo fudhachuuf nama ergetti ani hin dhowwanne."

[8] Maanguddoonnii fi namoonni hundinuu, "Ati dubbii isaa hin dhaga'in yookaan waan inni barbaadu tole hin jedhin" jedhaniin.

[9] Kanaafuu inni, " 'Garbichi kee waan ati jalqabatti ajajje hunda ni guuta; ani garuu waan ati amma gaafatte kana gochuu hin danda'u' jedhaatii gooftaa koo mootichatti himaa" jedhee ergamoota Ben-Hadaadiif deebii kenne. Isaanis ka'anii deebii sana fuudhanii Ben-Hadaaditti geessan.

[10] Ben-Hadaad immoo, "Yoo biyyoon Samaariyaa namoota koo warra na duukaa bu'an konyee tokko tokko illee wal ga'e, waaqonni na haa adaban; adabbiin sunis akka malee natti haa cimu" jedhee ergaa biraa Ahaabitti erge.

[11] Mootiin Israa'elis, " 'Namni mi'a lolaa hidhachaa jiru tokko akka nama mi'a lolaa of irraa hiikaa jiru tokkootti of jajuu hin qabu' jedhaatii itti hima" jedhee deebise.

[12] Ben-Hadaadis utuma mootota wajjin dunkaana keessatti waa dhugaa jiruu ergaa kana dhaga'ee, "Isin lolaaf qophaa'aa" jedhee namoota ofii isaa ajaje. Kanaafuu isaan magaalaa sana dha'uuf qophaa'an.

### *Ahaab Ben-Hadaadin Mo'ate*

[13] Yeroo kanatti raajiin tokko gara Ahaab mooticha Israa'el dhufee, "WAAQAYYO akkana jedha: 'Ati loltoota akka malee baay'atan kana argitaa? Ani har'a dabarsee harka keetti isaan nan kenna; atis ergasii akka ani WAAQAYYO ta'e ni beekta' " jedhe.

[14] Ahaab garuu, "Eenyutu waan kana hojjeta?" jedhee gaafate.

Raajiin sunis, "WAAQAYYO akkana jedha; 'Tajaajiltoota bulchitoota kutaalee biyyaa kanneen dargaggoo ta'anitu waan kana hojjeta' " jedhee deebiseef.

Innis, "Eenyutu lola jalqaba?" jedhee gaafate.

Raajiin sunis, "Situ jalqaba" jedhee deebiseef.

[15] Kanaafuu Ahaab tajaajiltoota bulchitoota kutaalee biyyaa kanneen dargaggoo ta'an dhibba lamaa fi soddomii lama walitti waame. Ergasiis Israa'eloota hafan
keessaa walumaa galatti namoota kuma torba walitti qabe. [16] Isaanis utuma
Ben-Hadaadii fi mootonni soddomii lama kanneen isa tumsan dunkaana keessatti
dhuganii machaa'aa jiranuu guyyaa saafaadhaan itti qajeelan. [17] Tajaajiltoonni
bulchitoota kutaalee biyyaa kanneen dargaggoo ta'anis jalqabatti gad ba'an.

Ben-Hadaadis gaaddota ergee ture; isaanis deebi'anii, "Namoonni muraasni Samaariyaadhaa ba'anii dhufuutti jiru" jedhanii isatti himan.

[18] Inni immoo, "Yoo isaan nagaaf dhufan utuma isaan lubbuun jiranuu isaan qabaa; yoo isaan lolaaf dhufanis akkasuma utuma isaan lubbuun jiranuu qabaa" jedhe.

[19] Tajaajiltoonni bulchitoota kutaalee biyyaa kanneen dargaggoo ta'an sunis
loltoota dura bu'anii magaalaa sanaa ba'an; [20] tokkoon tokkoon isaaniis diina isaanii
dha'anii ajjeesan. Kana irratti warri Sooriyaa ni baqatan; Israa'eloonni immoo isaan ari'an. Ben-Hadaad mootichi Sooriyaa garuu farda yaabbatee abbootii fardaa wajjin

baqatee jalaa ba'e. 21 Mootiin Israa'el ittuma fufee abbootii fardaatii fi gaariiwwanii
lolee mo'achuudhaan warra Sooriyaa akka malee miidhe.

22 Ergasii raajiin sun gara mooticha Israa'el dhufee, "Of jabeessi; waan gochuu
qabdus sirriitti hubadhu; mootiin Sooriyaa bara dhufu keessa deebi'ee si lolaatii"
jedhe.

23 Yeroo kanatti qondaaltonni mootii Sooriyaa akkana jedhanii isa gorsan;
"Waaqonni isaanii waaqota gaarranii ti. Sababiin isaan akka malee nutti jabaataniif
kana. Nu yoo lafa diriiraa irratti isaan lolle garuu dhugumaan isaan caalaa jabaanna.
24 Ati amma waan kana godhi: Mootota hunda aangoo isaanii irraa ari'iitii iddoo
isaanii ajajjoota kaan buusi. 25 Akkasumas loltoota akka loltoota kee kanneen
dhuman sanaa jechuunis qooda fardaa farda, qooda gaarii immoo gaarii qopheessi.
Akkasiin nu dirree irratti Israa'elin loluu dandeenya; isaan caalaas ni jabaanna."
Innis dubbii isaanii fudhatee akkuma isaan jedhan sana godhe.

26 Bara itti aanu keessa Ben-Hadaad namoota Sooriyaa walitti qabatee Israa'elin
loluuf Afeeqitti ol ba'e. 27 Israa'eloonnis walitti qabamanii waan nyaatan qabatanii
jaratti duulan. Israa'eloonni akkuma bushaayee karra xixinnaa lamaatti fuullee
isaanii qubatan; warri Sooriyaa garuu baadiyyaa keessa guutan.

28 Namni Waaqaa sunis dhufee mootii Israa'eliin akkana jedhe; "WAAQAYYO akkana
jedha; 'Sababii warri Sooriyaa WAAQAYYO Waaqa gaarraniiti malee Waaqa sululootaa
miti jedhaniif, ani tuuta akka malee guddaa kana hunda dabarsee harka keetti nan
kenna; isinis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.' "

29 Isaanis bultii torbaaf fuullee walii qubatanii, bultii torbaffaatti waraanni
jalqabame. Israa'eloonnis guyyuma tokkotti warra Sooriyaa keessaa loltoota lafoo
kuma dhibba tokko ajjeesan. 30 Warri hafan kaan magaalaa Afeeqitti baqatanii
achittis nama kuma digdamii torba irratti dallaan dhagaa jige. Ben-Hadaad immoo
magaalaa sanatti baqatee kutaa mana tokkoo kan gara keessaa keessatti dhokate.

31 Qondaaltonni isaas akkana jedhaniin; "Ilaa, nu akka mootonni mana Israa'el
mootota nama maaran ta'an dhageenyeerra. Mee kottaa nu mudhii keenyatti uffata
gaddaa hidhannee, mataa keenyatti immoo funyoo marannee mootii Israa'el bira haa
dhaqnu. Inni lubbuu kee ni oolcha ta'aatii."

32 Kanaafuu isaan mudhii isaaniitti uffata gaddaa hidhatanii, mataa isaaniitti
funyoo maratanii mootii Israa'el bira dhaqanii, "Garbichi kee Ben-Hadaad, 'Maaloo
lubbuu koo naa oolchi' siin jedha" jedhaniin.

Mootichi immoo, "Inni hamma ammaattuu lubbuun jiraa? Inni obboleessa koo ti"
jedhee deebise.

33 Namoonni sunis waan kana akka mallattoo gaariitti fudhatanii dubbii isaa
dafanii qabatanii "Eeyyee, Ben-Hadaad obboleessa kee ti!" jedhan.

Mootichis, "Dhaqaatii isa fidaa" jedhe. Yommuu Ben-Hadaad dhufettis Ahaab akka
inni ol ba'ee gaarii isaa keessa seenu godhe.

34 Ben-Hadaadis akkana jedheen; "Ani magaalaawwan abbaan koo abbaa kee irraa
fudhate sana siifin deebisa. Akkuma abbaan koo Samaariyaa keessatti hojjete sana,
ati Damaasqoo keessatti lafa gabaa ofii keetii dhaabbachuu dandeessa."

Ahaab immoo, "Ani walii galteedhaan gad si dhiisa" jedheen. Kanaafuu isa wajjin
walii galtee godhatee gad isa dhiise.

### *Raajiin Tokko Ahaabitti Mure*

35 Ilmaan raajotaa keessaa tokko ajaja WAAQAYYOOTIIN michuu isaa tokkoon,
"Maaloo na dha'i" jedhe. Namichi sun garuu isa dha'uu dide.

36 Kanaafuu raajiin sun, “Waan ati dubbii WAAQAYYOOTIIF hin ajajamniif akkuma
ati na biraa deemtuun leenci si ajjeesa” jedheen. Erga namichi ka’ee deemee booddee
leenci dhufee isa argate isa ajjeese.
37 Raajiin sun nama biraa argee, “Maaloo na dha’i” jedheen. Kanaafuu namichi
sun dha’ee isa madeesse. 38 Ergasii raajiin sun ija haguuggatee eenyummaa isaa
dhokfatee dhaqee qarqara karaa dhaabatee mooticha eegaa ture. 39 Utuma mootichi
karaa sana darbaa jiruu raajiin sun isa waamee akkana jedheen; “Garbichi kee
lola walakkaa seenee jennaan namni tokko nama booji’ame tokko fidee, ‘Namicha
kana eegi. Yoo inni bade lubbuun kee qooda lubbuu isaa baafamti yookaan meetii
taalaantii tokkoo baafta’ jedhe. 40 Namichi sunis utuu garbichi kee hojiin qabamee
asii fi achi fiigaa jiruu bade.”
Mootichi Israa’elis deebisee, “Wanni sitti murtaa’u sanuma; ati mataan kee iyyuu
murteerta” jedheen.
41 Raajiin sunis dafee ija isaa irraa haguuggii gad buufate; mootichi Israa’elis
akka inni raajota keessaa isa tokko ta’e hubate. 42 Innis mootichaan akkana jedhe;
“WAAQAYYO akkana jedha: ‘Ati namicha ani akka inni du’u itti mure gad lakkifteerta.
Kanaafuu lubbuun kee qooda lubbuu isaa, sabni kees qooda saba isaa galaafatama.’ ”
43 Mootichi Israa’el sunis akka malee aaree dheekkamaa gara masaraa mootummaa
isaa kan Samaariyaa keessa jiru sanaa dhaqe.

# 21

*Iddoo Dhaaba Wayinii Naabot*

1 Naabot namichi Yizri’eel tokko Yizri’eel keessaa, masaraa mootummaa Ahaab
mooticha Samaariyaa biraa iddoo dhaabaa wayinii qaba ture. 2 Ahaabis Naabotiin
akkana jedhe; “Sababii inni masaraa mootummaa kootti dhi’aatuuf akka ani achi
irra biqiltuu dhaabbadhuuf iddoo dhaabaa wayinii keetii naaf kenni. Qooda isaa ani
iddoo dhaabaa wayinii kan isa caalu yookaan yoo ati feete gatii isaa maallaqa siifin
kennaa.”
3 Naabot garuu, “Dhaala abbootii koo siif kennuu irraa WAAQAYYO na haa eegu”
jedhee deebise.
4 Kanaafuu sababii Naabot namichi Yizri’eel sun “Ani dhaala abbootii koo siif hin
kennu” jedheef Ahaab akka malee aaree dheekkamaa gara mana isaatti gale. Innis
fuula isaa garagalfatee siree isaa irra ciise; waa nyaachuus ni dide.
5 Iizaabel niitiin isaas ol seentee, “Ati maaliif akkana aarta? Maaliif waa hin
nyaanne?” jettee isa gaafatte.
6 Innis akkana jedhee deebiseef; “Sababii Naabot namichi Yizri’eel sun, ani, ‘Iddoo
dhaabaa wayinii keetii natti gurguri, yookaan yoo ati feete qooda isaa iddoo dhaabaa
wayinii biraa siifin kenna’ jennaaniin inni immoo, ‘Ani iddoo dhaabaa wayinii koo
siif hin kennu’ naan jedheef.”
7 Niitiin isaa Iizaabelis, “Ati amma mootii Israa’elii? Ka’ii buddeena nyaadhu!
Gammadis. Ani iddoo dhaabaa wayinii Naabot namicha Yizri’eel sanaa siifin kennaa”
jetteen.
8 Kanaafuu isheen maqaa Ahaabiin xalayoota barreessitee chaappaa isaatiin
chaappeessitee maanguddootaa fi namoota bebeekamoo magaalaa Naabot keessa isa
wajjin jiraatanitti ergite. 9 Xalayoota sana keessattis akkana jettee barreessite:
“Guyyaa soomaa tokko labsaatii akka Naabot waldaa keessa iddoo ol aanu taa’u
godhaa. 10 Namoota kashlabboota lama fuula isaa dura teessisaatii akka isaan
akka inni Waaqaa fi mooticha abaare itti rageessan godhaa. Ergasiis gad baasaatii
dhagaadhaan tumaa isa ajjeesaa.”

11 Kanaafuu maanguddoonnii fi namoonni bebbeekamoon magaalaa Naabot keessa jiraatan akkuma Iizaabel xalayoota barreessiteef keessatti isaan ajajje sana godhan.
12 Isaanis sooma labsanii akka Naabot waldaa keessa iddoo ol aanu taa'u godhan.
13 Ergasii Kashlabboonni lama dhufanii fuula isaa dura tataa'anii, "Naabot Waaqaa fi mooticha abaareera" jedhanii namoota duratti itti rageessan. Kanaafis magaalaa keessaa gad baasanii dhagaadhaan tumanii isa ajjeesan. 14 Ergasii isaan, "Naabot
dhagaan tumamee du'eera" jedhanii Iizaabelitti ergaa ergan.

15 Iizaabelis akkuma akka Naabot dhagaan tumamee du'e dhageesseen Ahaabiin, "Ka'iitii iddoo dhaabaa wayinii Naabot namichi Yizri'eel sitti gurguruu dide sana dhaali. Inni lubbuun hin jiru; du'eeraa" jette. 16 Ahaabis akka Naabot du'e
dhageenyaan iddoo dhaabaa wayinii Naabot sana dhaaluuf ka'ee gad bu'e.

17 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Eeliyaas namicha Tishbii sanaa dhufe;
18 "Ahaab mooticha Israa'el kan Samaariyaa keessa taa'ee bulchu sana arguuf gad bu'i. Inni amma lafa qotiisaa sana dhaaluuf gad bu'ee iddoo dhaabaa wayinii Naabot keessa jira. 19 Atis akkana jedhiin: 'WAAQAYYO akkana jedha; ati nama tokko ajjeeftee qabeenya isaa hin dhaallee?' Ergasiis akkana jedhiin; 'WAAQAYYO akkana jedha: Iddoo sareen dhiiga Naabot arraabde sanatti sareen dhiiga kees ni arraabdi; eeyyee dhugumaan dhiiga kees ni arraabdi!' "

20 Ahaabis Eeliyaasiin, "Yaa diina ko, ati na argatteerta!" jedhe.

Innis deebisee akkana jedheen; "Sababii ati fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjechuuf of gurgurteef ani si argadheera. 21 'Ani badiisa sitti nan fida. Sanyii kee illee nan balleessa; dhiira mana Ahaab, garbas ta'u birmaduu hunda Israa'el keessaa nan balleessa. 22 Sababii ati aariif na kakaaftee fi akka Israa'el cubbuu hojjetu gooteef ani mana kee akkuma mana Yerobi'aam ilma Nebaat sanaatii fi akkuma mana Ba'ishaan ilma Ahiiyaa sanaa nan godha.'

23 "Waa'ee Iizaabelis WAAQAYYO akkana jedha: 'Dallaa dhagaa Yizri'eel biratti saroonni Iizaabelin ni nyaatu.'

24 "Nama Ahaab kan magaalaa keessatti du'u kam iyyuu sareetu nyaata; kan baadiyyaatti du'u immoo allaattii samiitu nyaata."

25 Namni akka Ahaab isa niitii ofii isaa Iizaabeliin kakaafamee fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjechuudhaaf of gurgure sanaa gonkumaa hin jiru. 26 Inni
akkuma Amoorota kanneen WAAQAYYO saba Israa'el duraa ari'ee baase sanaa waaqota tolfamoo duukaa bu'uudhaan waan akka malee jibbisiisaa ta'e hojjete.

27 Ahaab yommuu dubbii kana dhaga'etti uffata isaa tarsaasee, wayyaa gaddaa uffatee soome. Innis wayyaa gaddaatiin ciisaa, mataa buusees deemaa ture.

28 Dubbiin WAAQAYYOOs akkana jedhee gara Eeliyaas namicha Tishbii sanaa dhufe:
29 "Ati akka Ahaab fuula koo duratti gad of qabe argitee? Sababii inni gad of qabeef ani balaa kana bara isaa keessa hin fidu; garuu bara ilma isaa keessa mana isaatti nan fida."

# 22

*Miikiyaas Ahaabiin Mormee Raajii Dubbate*
*22:1-28 kwf – 2Sn 18:1-27*

1 Waggaa sadiif Sooriyaa fi Israa'el gidduu waraanni tokko iyyuu hin turre.
2 Waggaa sadaffaa keessa garuu Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa mooticha Israa'el arguuf gad bu'e. 3 Mootiin Israa'el qondaaltota isaatiin, "Isin akka Raamooti Gili'aad biyya keenya taatee nu garuu mootii Sooriyaa irraa ishee deebifachuuf waan tokko illee hojjechuutti hin jirre hin beektanii?" jedhe.

4 Kanaafuu inni, "Ati Raamooti Gili'aadin loluuf na wajjin ni baataa?" jedhee Yehooshaafaaxin gaafate.

Yehooshaafaaxis, “Ani akkuma kee ti; sabni koo akkuma saba keetii ti; fardeen koos
akkuma fardeen keetii ti” jedhee mooticha Israa’eliif deebise. 5 Yehooshaafaax garuu
mootii Israa’eliin, “Duraan dursii gorsa WAAQAYYOO gaafadhu” jedhe.

6 Kanaafuu Mootichi Israa’el raajota gara dhibba afur walitti qabee, “Ani Raamooti
Gili’aadin loluudhaaf ba’u moo dhiisu?” jedhee ni gaafate.

Isaanis, “Dhaqi; Gooftaan dabarsee harka mootichaatti ishee kennaatii” jedhanii
deebisaniif.

7 Yehooshaafaax immoo, “Akka nu waa isa gaafannuuf raajiin WAAQAYYOO tokko
iyyuu as hin jiruu?” jedhee gaafate.

8 Mootiin Israa’el immoo Yehooshaafaaxiin, “Amma illee namichi nu karaa isaatiin
WAAQAYYOON waa gaafachuu dandeenyu tokko jira; garuu sababii inni yeroo hunda
waa’ee koo waan hamaa malee waan gaarii raajii hin dubbanneef ani isa nan jibba.
Innis Miikaayaa ilma Yimlaa ti” jedhe.

Yehooshaafaax immoo deebisee, “Mootichi akkas jechuu hin qabu” jedheen.

9 Kanaafuu mootiin Israa’el qondaaltota isaa keessaa nama tokko waamee,
“Dhaqiitii Miikaayaa ilma Yimlaa sana dafii fidi” jedheen.

10 Mootichi Israa’elii fi Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa uffata isaanii kan moo-
tummaa uffatanii balbala Samaariyaa seensisu bira oobdii keessa teessoo isaanii irra
tataa’anii raajonni hundi immoo fuula isaanii duratti raajii dubbachaa turan. 11 Kana
irratti Zedeqiyaan ilmi Keni’aanaa gaanfawwan sibiilaa tolchee, “WAAQAYYO, ‘Ati
hamma isaan dhumanitti gaanfawwan kanneeniin warra Sooriyaa ni wawwaraanta’
jedha” jedhee labse.

12 Raajonni kaan hundinuus waanuma kana raajan. Isaanis, “WAAQAYYO dabarsee
harka mootichaatti ishee kennaatii, Raamooti Gili’aadin lolii mo’adhu” jedhan.

13 Ergamaan Miikaayaa waamuu dhaqe sunis, “Kunoo raajonni kaan utuu gargar
hin gorin milkaa’uu mootichaaf himaa jiru. Maaloo dubbiin kees dubbii isaaniitiin
tokko akka ta’uuf atis waan tolaa dubbadhu” jedheen.

14 Miikaayaan garuu deebisee, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani waanuma Waaqni
natti himu qofan isatti hima” jedhe.

15 Yommuu inni achi ga’ettis mootichi, “Yaa Miikaayaa, nu Raamooti Gili’aaditti
duullu moo dhiisnu?” jedhee isa gaafate.

Miikiyaasis, “WAAQAYYO dabarsee harka mootichaatti ishee ni kennaatii waraanii
mo’adhu” jedhee deebise.

16 Mootichi immoo, “Ani yeroo hammamin akka ati dhugaa malee waan tokko illee
natti hin himne maqaa WAAQAYYOOTIIN si kakachiisa?” jedheen.

17 Kana irratti Miikaayaan akkana jedhee deebise; “Ani Israa’eloota hunda akkuma
hoolota tiksee hin qabneetti gaara irratti bittinnaa’an nan arge. WAAQAYYOS, ‘Sabni
kun gooftaa hin qabu. Tokkoon tokkoon isaanii nagaadhaan mana isaaniitti haa
deebi’an.’ ”

18 Mootiin Israa’elis Yehooshaafaaxiin, “Ani akka inni waa’ee koo waan hamaa
malee waan gaarii tokko iyyuu hin raajne sitti hin himnee?” jedhe.

19 Miikiyaas ittuma fufee akkana jedhe; “Kanaafuu ati dubbii WAAQAYYOO dhaga’i:
Ani utuu WAAQAYYO teessoo isaa irra taa’ee ergamoonni samii hundis mirgaa fi bitaa
isaatiin naannoo isaa dhadhaabatanuu nan arge. 20 WAAQAYYOS, ‘Eenyutu akka inni
dhaqee Raamooti Gili’aadin lolee achitti du’uuf Ahaabin gowwoomsa?’ jedhe.

“Inni tokko waan tokko jedha; inni kaan immoo waan biraa jedha. 21 Dhuma irratti
hafuurri tokko dhufee fuula WAAQAYYOO dura dhaabatee, ‘Anatu isa gowwoomsa’
jedhe.

22 “WAAQAYYOS, ‘Karaa kamiin isa gowwoomsita?’ jedhee gaafate.

“Innis, ‘Ani dhaqee afaan raajota isaa hunda keessatti hafuura sobaa nan ta’a’
jedhe.

"WAAQAYYOS, 'Dhaqiitii isa dogoggorsi; ni milkooftaatii' isaan jedheen.
23 "Kanaafuu WAAQAYYO amma afaan raajota kee kanneen hundaa keessa hafuura sobaa kaa'eera. WAAQAYYO badiisa sitti ajajeera."
24 Kana irratti Zedeqiyaan ilmi Keni'aanaa ol ba'ee Miikaayaa fuula keessa kabalee, "Hafuurri WAAQAYYOO yommuu sitti dubbachuuf na biraa ba'etti karaa kam deeme?" jedhee gaafate.
25 Miikaayaanis, "Ati gaafa dhokachuuf jettee gara kutaa manaa kan gara keessaatti ol galtutti argita" jedhee deebiseef.
26 Kana irratti mootiin Israa'el akkana jedhee ajaje; "Miikaayaa fuudhaatii gara
Aamoon bulchaa magaalaa fi gara Yoo'aash ilma mootichaatti geessaatii, 27 'Mootichi
akkana jedha: Hamma ani nagaan deebi'utti namicha kana mana hidhaa keessa buusaa; buddeenaa fi bishaan malees homaa hin kenninaafii' jedhaan."
28 Miikaayaan immoo, "Yoo ati nagaan deebite, WAAQAYYO karaa kootiin hin dubbanne" jedheen. Ittuma fufees, "Yaa saboota, isin hundi dubbii koo akeekkadhaa!" jedhe.

### *Ahaab Reemaat Gili'aaditti Ajjeefame*
### *22:29-36 kwf – 2Sn 18:28-34*

29 Kanaafuu mootiin Israa'elii fi Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa Raamooti
Gili'aaditti ol ba'an. 30 Mootiin Israa'el Yehooshaafaaxiin, "Ani eenyummaa koo dhokfadheen lola seena; ati garuu uffata mootummaa uffadhu" jedhe. Kanaafuu mootiin Israa'el eenyummaa ofii isaa dhokfatee lola seene.
31 Yeroo kanatti mootiin Sooriyaa ajajjoota gaariiwwan isaa soddomii lamaaniin, "Mootii Israa'elitti malee xinnaas ta'u guddaatti, nama tokkottuu lola hin kaasinaa"
jedhee ajaje. 32 Ajajjoonni gaariiwwanii yommuu Yehooshaafaaxin arganitti, "Dhugumaan kun mootii Israa'el" jedhanii yaadan. Kanaafuu isa rukutuuf itti garagalan;
garuu yommuu Yehooshaafaax guddisee iyyetti, 33 ajajjoonni gaariiwwaniis akka inni
mootii Israa'el hin ta'in arganii isa ari'uu dhiisan.
34 Garuu namichi tokko xiyya ofii isaa darbatee akkuma tasaa uffata isaa kan sibiilaa gidduudhaan mooticha Israa'el ni waraane. Mootichis ooftuu gaarii isaatiin,
"Gaarii naannessiitii lola keessaa na baasi; ani madaa'eeraatii" jedhe. 35 Lolli sunis
guyyaa guutuu ittuma cimee oole; mootichis ol qabamee fuula isaa gara warra Sooriyaatti deebifatee gaarii isaa keessa oole. Madaa isaa keessaas dhiigni yaa'ee
gaarii keessa lola'e; innis galgaluma sana du'e. 36 Akkuma aduun dhiiteen iyyi,
"Tokkoon tokkoon namaa gara magaalaa ofii isaatti; tokkoon tokkoon namaa gara biyya ofii isaatti!" jedhu tokko dhaga'ame.
37 Kanaafuu mootichi duunaan Samaariyaatti geeffame; isaanis achitti isa
awwaalan. 38 Isaanis haroo Samaariyaa keessaa kan sagaagaltoonni itti dhiqachaa turan tokko keessatti gaarii sana dhiqan; akkuma dubbiin WAAQAYYOO jedhee ture sana saroonni dhiiga isaa arraaban.
39 Wantoonni bara mootummaa Ahaab keessa hojjetaman biraa, wantoota inni hojjete hunda dabalatee, masaraa mootummaa inni ijaaree ilka arbaatiin bareeche sun, magaalaawwan inni dallaa dhagaa itti ijaare kitaaba seenaa mootota Israa'el
keessatti barreeffamaniiru mitii? 40 Ahaabis abbootii isaa wajjin boqote. Ilmi isaa
Ahaaziyaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

### *Yehooshaafaax Mooticha Yihuudaa*
### *22:41-50 kwf – 2Sn 20:31–21:1*

41 Yehooshaafaax ilmi Aasaa, bara mootummaa Ahaab mooticha Israa'el keessa
waggaa afuraffaatti mootii Yihuudaa ta'e. 42 Yehooshaafaax yeroo mootii ta'etti nama
umuriin isaa waggaa soddomii shan ture; innis Yerusaalem keessa taa'ee waggaa

digdamii shan ni bulche. Maqaan haadha isaa Azuubaa ture; isheenis intala Shilhii
turte. 43 Innis waan hundumaan karuma abbaa isaa Aasaa irra deeme malee isa irraa
hin jal'anne; fuula WAAQAYYOO durattis waan qajeelaa hojjete. Ta'us iddoowwan
sagadaa kanneen gaarran irraa hin diigamne ture; namoonnis ittuma fufanii achitti
aarsaa dhi'eessaa, ixaanas aarsaa turan. 44 Yehooshaafaaxis mootii Israa'el wajjin
nagaan jiraata ture.
45 Wantoonni bara mootummaa Yehooshaafaax keessa hojjetaman kaan, jabinni
inni argisiisee fi haalli inni itti lolaa ture kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti
barreeffamaniiru mitii? 46 Inni manneen sagadaa dhiirota sagaagalanii kanneen
bara mootummaa abbaa isaa Aasaa keessa turan iyyuu biyyattii keessaa ni balleesse.
47 Yeroo sanatti Edoom keessa mootiin tokko iyyuu hin jiru ture; itti aanaa mootiitu
biyya bulchaa ture.
48 Yehooshaafaaxis warqee barbaacha Oofiir dhaquuf jedhee dooniiwwan tolfate;
dooniiwwan sun garuu sababii Eziyoon Geberitti caccabaniif achi dhaquu hin
dandeenye. 49 Yeroo sana Ahaaziyaa ilmi Ahaab Yehooshaafaaxiin, "Mee namoonni
koo namoota kee wajjin dooniin haa deeman" jedhe; Yehooshaafaax garuu ni dide.
50 Ergasii Yehooshaafaax abbootii isaa wajjin boqotee isaanuma biratti magaalaa
abbaa isaa magaalaa Daawit keessatti awwaalame. Yehooraam ilmi isaas iddoo isaa
bu'ee mootii ta'e.

### *Ahaaziyaa mooticha Israa'el*

51 Ahaaziyaan ilmi Ahaab bara Yehooshaafaax mooticha Yihuudaa keessa waggaa
kudha torbaffaatti Samaariyaa keessatti mootii Israa'el ta'e; innis waggaa lama
Israa'elin bulche. 52 Inni karaa abbaa isaatii fi haadha isaa irra akkasumas karaa
Yerobi'aam ilma Nebaat kan Israa'elin cubbuu hojjechiise sanaa irra deemuudhaan
fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. 53 Innis akkuma abbaan isaa
godhe sana Ba'aalin tajaajiluu fi waaqeffachuudhaan WAAQAYYO Waaqa Israa'el
dheekkamsaaf kakaase.

# Kitaaba Mootota Lammaffaa

## *Murtii WAAQAYYO Ahaaziyaatti Mure*

1 Erga Ahaab du'ee booddee Mo'aab Israa'elitti fincile. 2 Ahaaziyaanis qaawwa
darbii mana isaa kan Samaariyaa keessaan kufee miidhamee ture. Kanaafuu inni,
"Akka ani miidhaa kana irraa fayyuu fi fayyuu baachuu koo beekuuf dhaqaatii Ba'aal
Zebuul waaqicha Eqroon sana naaf gaafadhaa" jedhee ergamoota erge.
3 Ergamaan WAAQAYYOO garuu Eeliyaas namicha gosa Tishbii sanaan akkana jedhe;
"Ka'iitii gara ergamoota mooticha Samaariyaa sanaatti ol ba'iitii akkana jedhii
isaan gaafadhu; 'Wanni isin Ba'aal Zebuul waaqicha Eqroon sana gorsa gaafachuu
dhaqxaniif Israa'el keessaa Waaqni dhabameetii?' 4 Kanaafuu WAAQAYYO, 'Ati siree
amma irra ciiftu kana irraa hin kaatu. Ati dhugumaan ni duuta!' jedha." Kana irratti
Eeliyaas ka'ee deeme.
5 Mootichis yommuu ergamoonni gara isaatti deebi'anitti, "Isin maaliif deebitan?"
jedhee isaan gaafate.
6 Isaanis akkana jedhanii deebisan; "Namicha tokkotu karaatti nutti dhufee, 'Gara
mooticha isin erge sanaatti deebi'aatii akkana jedhaanii' nuun jedhe; 'WAAQAYYO
akkana jedha: Wanni ati Ba'aal Zebuul waaqicha Eqroon sana gorsa gaafachuuf
namoota ergituuf Israa'el keessaa Waaqni dhabameetii? Kanaafuu ati siree irra ciiftu
kana irraa hin kaatu. Ati dhugumaan ni duuta!' "
7 Mootichi, "Namichi karaatti isinitti dhufee waan kana isinitti hime sun nama
akkamii ti?" jedhee isaan gaafate.
8 Isaanis, "Inni nama uffata rifeensa irraa hojjetame uffatee sabbata gogaa mudhii
isaatti hidhatu tokkoo dha" jedhanii deebisaniif.
Mootichis, "Inni Eeliyaas namicha Tishbii sanaa dha" jedhe.
9 Kana irratti mootichi ajajaa waraanaa tokko namoota shantama wajjin Eeliyaasitti
erge. Ajajaan sunis fiixee gaara inni irra taa'aa ture tokkootti Eeliyaasitti ol ba'ee,
"Yaa nama Waaqaa, mootichi 'Gad kottu!' siin jedha" jedheen.
10 Eeliyaas immoo ajajaa sanaan, "Yoo ani nama Waaqaa ta'e, ibiddi samii irraa gad
bu'ee si'ii fi namoota kee shantamman haa fixu!" jedhe. Ergasii ibiddi samii irraa
gad bu'ee ajajaa sanaa fi namoota isaa hunda fixe.
11 Kana irratti mootichi amma illee ajajaa biraa namoota shantama wajjin
Eeliyaasitti erge. Ajajaan sunis, "Yaa nama Waaqaa, mootichi, 'Dafii gad bu'iitii
kottu!' siin jedha" jedheen.
12 Eeliyaas garuu, "Yoo ani nama Waaqaa ta'e, ibiddi samii irraa gad bu'ee si'ii fi
namoota kee shantammanuu haa fixu!" jedhee deebiseef. Ibiddi Waaqaas samii irraa
gad bu'ee isaa fi namoota isaa shantammanuu ni fixe.
13 Kanaafuu mootichi ammas ajajaa sadaffaa namoota shantama wajjin ni erge.
Ajajaan sadaffaan kun ol ba'ee jilba ofii isaatiin Eeliyaas duratti jilbeenfatee akkana
jedhee isa ni kadhate; "Yaa nama Waaqaa, maaloo lubbuun koo fi lubbuun garboota
kee shantamman kanneenii gatii hin dhabin! 14 Kunoo, ibiddi samii irraa gad bu'ee
ajajjuuwwan duraa lamaanii fi namoota isaanii hunda fixeera. Amma garuu lubbuun
koo fuula kee duratti gatii haa qabaattu!"
15 Ergamaan WAAQAYYOOS Eeliyaasiin, "Isa wajjin gad bu'i; isa hin sodaatin" jedhe.
Kanaafuu Eeliyaas ka'ee isa wajjin gara mootichaatti gad bu'e.

16 Innis akkana jedhee mootichatti hime; “WAAQAYYO akkana jedha: Wanni ati
Ba’aal Zebuul waaqicha Eqroon gorsa gaafachuudhaaf ergamoota ergiteef Israa’el
keessaa Waaqni gorsa gaafatamu dhabameetii? Ati sababii waan kana hojjetteef siree
irra ciiftu kana irraa hin kaatu. Ati dhugumaan ni duuta!” 17 Kanaafuu inni akkuma
dubbii WAAQAYYOO kan Eeliyaas dubbate sanaatti du’e.

Sababii Ahaaziyaan ilma hin qabneef obboleessi isaa Yehooraam iddoo isaa
bu’ee mootii ta’e; kunis bara Yehooraam ilmi Yehooshaafaax mootii Yihuudaa ture
keessa waggaa lammaffaatti ta’e. 18 Wantoonni bara mootummaa Ahaaziyaa keessa
hojjetaman kan biraa hundii fi wanti inni hojjete kitaaba seenaa mootota Israa’el
keessatti barreeffamaniiru mitii?

# 2

*Eeliyaas Samiitti Ol Fudhatame*

1 Yeroo WAAQAYYO bubbeedhaan Eeliyaasin gara Samiitti ol fudhachuu ga’etti
Eeliyaasii fi Elsaa’i Gilgaalii ka’anii karaa deemaa turan. 2 Eeliyaasis Elsaa’iin, “Ati
asuma turi; WAAQAYYO Beet’eelitti na ergeeraatii” jedhe.

Elsaa’i garuu, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani lubbuu keetiin nan kakadha; ani
gad si hin dhiisu” jedheen. Kanaafuu isaan Beet’eelitti gad bu’an.

3 Ergasiis waldaan raajotaa kanneen Beet’eel turan gara Elsaa’i dhufanii, “Ati akka
WAAQAYYO har’a gooftaa kee si biraa fudhachuuf jiru beektaa?” jedhanii ni gaafatan.

Elsaa’i immoo, “Eeyyee, ani nan beeka; garuu isin waa’ee isaa hin dubbatinaa”
jedheen.

4 Eeliyaasis “Yaa Elsaa’i, ati asuma turi; WAAQAYYO gara Yerikootti na ergeeraatii”
jedheen.

Innis, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani lubbuu keetiin nan kakadha; ani gad si hin
dhiisu” jedheen. Kanaafuu isaan gara Yerikoo deeman.

5 Waldaan raajotaa kanneen Yerikoo turan sun gara Elsaa’i dhufanii, “Ati akka
WAAQAYYO har’a gooftaa kee si biraa fudhachuuf jiru beektaa?” jedhanii gaafatan.

Innis, “Eeyyee nan beeka; isin garuu waa’ee isaa hin dubbatinaa” jedheen.

6 Eeliyaasis, “Ati asuma turi; WAAQAYYO Yordaanositti na ergeeraatii” jedheen.

Innis, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani lubbuu keetiin nan kakadha; ani gad si hin
dhiisu” jedheen. Kanaafuu isaan lamaanuu ka’anii deeman.

7 Isaanis Yordaanos bira dhaabatan; waldaa raajotaa keessaa namoonni shantamni
dhaqanii irraa fagaatanii fuula isaanii dura dhadhaabatan. 8 Eeliyaasis kaabbaa isaa
of irraa baasee dadachaasee ittiin bishaan dha’e. Bishaan sunis mirgaa fi bitaatti
gargar qoodame; isaan lamaanuu lafa gogaa irra ce’an.

9 Eeliyaasis erga ce’anii booddee Elsaa’iin, “Mee waan ani utuu si biraa hin
fudhatamin siif gochuu danda’u natti himi” jedhe.

Elsaa’i immoo, “Hafuurri kee dachaadhaan narra haa bu’u” jedhee deebiseef.

10 Eeliyaas immoo, “Ati waan rakkisaa kadhatte; ta’us yoo ati yeroo ani si biraa
fudhatamutti na argite, hafuurri kun kan kee ta’a; yoo kanaa achi kan kee hin ta’u”
jedheen.

11 Utuma isaan haasa’aa deemanuu gaariin ibiddaa tokkoo fi fardeen ibiddaa
akkuma tasaa mul’atanii isaan lamaan gargari baasan; Eeliyaasis bubbeedhaan
samiitti ol fudhatame. 12 Elsaa’i waan kana argee, “Yaa abbaa koo! Yaa abbaa koo!
Gaariiwwanii fi abbootii farda Israa’el!” jedhee sagalee ol fudhatee iyye. Elsaa’i
ergasii deebi’ee isa hin argine. Innis uffata isaa qabee iddoo lamatti gargar tarsaase.

13 Innis kaabbaa Eeliyaas irraa bu’e sana fuudhee deebi’ee qarqara laga Yordaanos
dhaabate. 14 Ergasii kaabbaa Eeliyaas irraa bu’e sana fudhatee ittiin bishaan dha’ee,

“WAAQAYYO Waaqni Eeliyaas sun amma eessa jira?” jedhee gaafate. Yommuu inni dha’etti bishaan sun mirgaa fi bitaatti gargari qoodame; Elsaa’is ni ce’e.
15 Waldaan raajotaa kanneen Yerikoodhaa dhufanii waan kana ilaalaa turan, “Hafuurri Eeliyaas Elsaa’i irra bu’uutti jira” jedhan. Isaanis isa simachuudhaaf
dhaqanii fuula isaa duratti lafatti gombifaman. 16 Akkanas jedhaniin; “Kunoo, nu
tajaajiltoonni kee namoota ciccimoo shantama of biraa qabna. Isaan dhaqanii gooftaa kee haa barbaadan. Hafuurri WAAQAYYOO ol isa fuudhee tulluu wayii irra yookaan sulula wayii keessa isa buuse ta’aatii.”

Elsaa’i immoo, “Akkas miti; isaan hin erginaa” jedhee deebise.
17 Isaan garuu hamma inni isaan jalaa diduu qaana’utti isa dirqisiisan. Kana irratti inni, “Isaan ergaa” jedhe. Isaanis nama shantama ni ergan; namoonni sunis bultii
sadii barbaadanii isa dhaban. 18 Isaanis utuma inni Yerikoo jiruu deebi’anii gara isaa
dhufan; innis, “Ani hin deeminaa isiniin hin jennee?” jedheen.

*Bishaan Fayyifame*

19 Namoonni magaalaa sanaa Elsaa’iin, “Kunoo yaa gooftaa keenya, akkuma ati argitu kana haalli magaalaa kanaa namatti tola; garuu bishaan ishee faalamaa dha; lafti ishees midhaan hin baaftu” jedhan.
20 Innis, “Mee waciitii haaraa naa fidaatii soogidda itti naqaa” jedheen. Kanaafuu isaan waciitii sana itti fidan.
21 Innis gara burqaatti gad bu’ee, soogidda sana itti naqee akkana jedhe; “WAAQAYYO akkana jedha; ‘Ani bishaan kana fayyiseera. Bishaan kun lammata du’a hin fidu
yookaan maseenummaa biyyatti hin fidu.’ ” 22 Bishaan sunis akkuma dubbii Elsaa’i
dubbate sanaatti hamma ammaatti fayyeera.

*Elsaa’itti Qoosame*

23 Ergasii Elsaa’i ka’ee Beet’eel dhaqe. Utuma inni karaa deemuu ijoolleen tokko magaalaa keessaa yaatee, “Namicha mataa moluu nana deemi asii! Namicha mataa
moluu nana deemi asii!” jedhanii itti qoosan. 24 Inni of irra garagalee isaan mil’atee
maqaa WAAQAYYOOTIIN isaan abaare. Yommus amaakenni lama bosona keessaa
ba’anii ijoollee sana keessaa afurtamii lama cicciranii fixan. 25 Elsaa’is ittuma fufee
gara Tulluu Qarmeloos dhaqe; achii ka’ees Samaariyaatti deebi’e.

# 3

*Mo’aab Fincile*

1 Yehooraam ilmi Ahaab bara Yehooshaafaax mooticha Yihuudaa keessa waggaa kudha saddeettaffaatti Samaariyaa keessatti mootii Israa’el ta’ee waggaa kudha lama
bulche. 2 Yehooraam fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete; garuu akka abbaa fi haati isaa hojjetan sana miti. Inni siidaa Ba’aal kan abbaan isaa hojjechiise
sana balleesseeraatii. 3 Ta’us cubbuu Yerobi’aam ilma Nebaat kan inni saba Israa’el
hojjechiise sana cimsee qabate malee irraa hin deebine.
4 Yeroo kanatti Meeshaan mootichi Mo’aab hoolota horsiisa ture; inni waggaa waggaatti xobbaallaa hoolaa kuma dhibba tokkoo fi rifeensa korbeeyyii hoolaa kuma
dhibba tokko mootii Israa’eliif gibira kenna ture. 5 Erga Ahaab du’ee garuu mootichi
Mo’aab mootii Israa’elitti ni fincile. 6 Kanaafuu yeroo sanatti Yehooraam mootichi
Samaariyaadhaa ka’ee saba Israa’el hunda duulaaf hiriirse. 7 Innis, “Mootiin Mo’aab
natti fincileera; Mo’aabin loluudhaaf ati na wajjin ni baataa?” jedhee Yehooshaafaax mooticha Yihuudaatti ergaa ergate.

Yehooshaafaaxis, “Ani si wajjin nan ba’a; ani akkuma kee ti; sabni koos akkuma saba keetii ti; fardeen koos akkuma fardeen keetii ti” jedhee deebiseef.
8 Innis, “Karaa kamiin yaana?” jedhee gaafate.

Yehooraam immoo, “Karaa Gammoojjii Edoomiitiin” jedhee deebiseef.
9 Kanaafuu mootiin Israa’el mootii Yihuudaatii fi mootii Edoom wajjin ka’ee qajeele.
Erga guyyaa torba irra nanaanna’anii booddee loltoonni sun ofii isaaniitiif yookaan
horii isaaniitiif bishaan tokko illee hin qaban ture.
10 Kana irratti mootiin Israa’el, “Wayyoo kaa! WAAQAYYO nu mootota sadanuu
dabarsee mootii Mo’aabitti kennuudhaaf walitti nu waamee?” jedhee iyye.
11 Yehooshaafaax garuu, “Raajiin WAAQAYYOO kan nu karaa isaatiin WAAQAYYOON
waa gaafannu tokko iyyuu as hin jiruu?” jedhee gaafate.
Qondaalli mootii Israa’el tokkos, “Elsaa’i ilmi Shaafaax as jira. Inni Eeliyaasiif
bishaan harkaa buusa ture” jedhee deebise.
12 Yehooshaafaaxis, “Dubbiin WAAQAYYOO isa bira jira” jedhe. Kanaafuu mootiin
Israa’el, Yehooshaafaaxii fi mootiin Edoom gara Elsaa’itti gad bu’an.
13 Elsaa’i mootii Israa’eliin, “Nu maal wal irraa qabna? Ati gara raajota abbaa
keetiitii fi gara raajota haadha keetii dhaqi” jedhe.
Mootiin Israa’el, “Akkas miti; WAAQAYYO nu mootota sadanuu dabarsee Mo’aabitti
kennuudhaaf walitti nu waameeraatii” jedhee deebise.
14 Elsaa’i immoo akkana jedhee deebise; “Dhugaa WAAQAYYOO Waan Hunda
Danda’u kan ani isa tajaajilu sanaa; ani utuu Yehooshaafaax mooticha Yihuudaatiif
ulfina kennuu baadhee silaa garagalee si hin ilaalu yookaan wayittuu si hin hedun
ture. 15 Amma garuu nama baganaa taphatu tokko naa fidaa.”
Utuma namichi sun baganaa taphachaa jiruu harki WAAQAYYOO Elsaa’i irra bu’e;
16 innis akkana jedhe; “WAAQAYYO akkana jedha: Sulula kana keessatti boolla hedduu
qotaa. 17 WAAQAYYO akkana jedhaatii: Isin bubbee yookaan bokkaa hin argitan;
ta’us sululli kun bishaaniin guutama; isin, loon keessanii fi horiin keessan kaan ni
dhugdu. 18 Wanni kun fuula WAAQAYYOO duratti waan salphaa dha; inni Mo’aabinis
dabarsee harka keessanitti ni kenna. 19 Isin magaalaa dallaan itti ijaarame hundaa
fi magaalaawwan hunda ni mo’attu. Muka gaarii hunda ni murtu; burqaa hunda
gogsitanii lafa qotiisaa gaarii hunda dhagaan balleessitu.”
20 Guyyaa itti aanu ganama gara sa’aatii aarsaan itti dhi’eeffamuutti kunoo karaa
Edoomiin bishaan gad ni dhangala’e! Biyyi sunis bishaaniin guutamte.
21 Yeroo kanatti Mo’aabonni hundi akka mootonni sun isaan loluu dhufan
dhaga’an; kanaafuu dargaggeessas ta’u jaarsi mi’a lolaa baachuu danda’u hundi
walitti waamamee daangaa irratti walitti qabame. 22 Yommuu isaan ganama barii
ka’anitti biiftuun bishaan sana irratti ba’aa turte. Bishaan sunis Mo’aabota gama
jiranitti akkuma dhiigaa diimatee mul’ate. 23 Isaanis, “Wanni sun dhiiga! Mootonni
sun wal lolanii wal fixuun isaanii hin oolu. Kanaafuu yaa Mo’aab boojuudhaaf ka’i!”
jedhan.
24 Garuu yeroo Mo’aabonni qubata Israa’el ga’anitti, Israa’eloonni itti ka’anii lolan;
jarri sunis ni baqatan. Israa’eloonnis biyya sana weeraranii Mo’aabota gogorra’an.
25 Isaanis akkasiin magaalaawwan balleessan; tokkoon tokkoon namaas lafa qotiisaa
gaggaarii hunda irratti dhagaa darbatee lafti qotiisaa sun dhagaadhaan guutame.
Isaan burqaawwan hunda gogsanii muka gaggaarii hunda ciran. Qiir Hareesheti
qofatu dhagaa ishee wajjin hafe; ta’us namoonni furrisaa qaban marsanii ishee
dha’an.
26 Mootiin Mo’aab yommuu akka lolli isatti jabaate argetti mooticha Edoomitti
cabsee seenuuf namoota goraadee hidhatan dhibba torba fudhatee qajeele; jarri
garuu hin dandeenye. 27 Innis ilma isaa hangafa kan iddoo isaa bu’ee mootii
ta’uuf jiru fudhatee dallaa magaalaa sanaa irratti aarsaa gubamu godhee dhi’eesse.
Dheekkamsi guddaanis Israa’elitti dhufe. Isaanis dugda duubatti deebi’anii biyya
isaaniitti ni galan.

# 4

### *Zayitii Haadha Hiyyeessaa Tokkoo*

1 Niitiin namicha ilmaan raajotaa keessaa tokko ta'e tokkoo sagalee ol fudhattee
Elsaa'iin akkana jette; "Dhirsi koo garbichi kee du'eera; akka inni WAAQAYYOON
sodaachaa ture atuu ni beekta. Namichi liqii isa irraa qabu tokko garuu amma ilmaan
koo lamaan fudhatee garboomfachuuf dhufaa jira."

2 Elsaa'is, "Ani akkamittin si gargaaruu danda'a? Mee natti himi; mana kee keessaa
maal qabdaa?" jedheen.

Isheenis, "Garbittiin kee zayitii xinnoo tokko malee homaa manaa hin qabdu" jettee
deebifte.

3 Elsaa'i akkana jedheen; "Dhaqiitii warra ollaa keetii hunda okkotee duwwaa
hedduu kadhadhu. Muraasa hin kadhatin. 4 Ergasii ol galiitii ofii keetii fi ilmaan
keetti balbala cufi. Okkotee hundatti zayitii naqiitii yommuu tokkoon tokkoon isaa
guutamutti jalaa hiiqsi."

5 Isheenis isa biraa deemtee ofii isheettii fi ilmaan isheetti balbala cufte. Ilmaan
ishee okkotee gara isheetti fidan; isheen immoo zayitii itti naqaa turte. 6 Okkoteen
hundi guutamnaan isheen ilma isheetiin, "kan biraa naaf fidi" jette.

Inni immoo, "Okkoteen tokko iyyuu hin hafne" jedhee deebiseef. Kana irratti
zayitiin sun yaa'uu dhiise.

7 Isheen dhaqxee nama Waaqaa sanatti himte; innis, "Dhaqii zayitii sana gurguriitii
liqii kee baafadhu. Atii fi ilmaan kee waan hafeen jiraachuu ni dandeessu" jedhe.

### *Mucaan Dubartii Suunam Tokkoo Du'aa Kaafamuu Isaa*

8 Gaaf tokko Elsaa'i ka'ee Suunam dhaqe. Dubartiin soorettiin tokko achi jiraatti
turte; isheenis akka inni goree waa nyaatuuf Elsaa'i kadhatte. Kanaafuu inni yeroo
karaa sanaan darbu hunda goree waa nyaata ture. 9 Isheenis dhirsa isheetiin akkana
jette; "Ani namichi yeroo hunda karaa keenyaan darbu kun qulqulluu nama Waaqaa
akka ta'e nan beeka. 10 Kottu mee bantii manaa irratti kutaa xinnaa tokko ijaarree
siree fi minjaala, barcumaa fi ibsaa achi keessa haa keenyuuf. Ergasiis inni yeroo nu
bira dhufu hunda achi jiraachuu danda'a."

11 Elsaa'is gaaf tokko dhufee ol ba'ee kutaa isaa sana keessa ciise. 12 Innis
tajaajilaa isaa Gehaaziin, "Mee dubartii Suunam sana as waami" jedhe. Gehaaz ishee
waamnaan isheen dhuftee fuula Elsaa'i dura dhaabatte. 13 Elsaa'i immoo akkana
isaan jedhe; " 'Ati nuuf jettee baay'ee dadhabdeerta. Amma maal siif haa godhu?
Iddoo kee buunee mootichatti yookaan ajajaa loltootaatti siif dubbannuu?' jedhii
isheetti himi."

Ishee immoo, "Ani saba koo gidduun jiraadha" jettee deebifte.

14 Elsaa'is, "Maaltu isheef godhamuu danda'a?" jedhee gaafate.

Gehaaz immoo, "Isheen ilma hin qabdu; dhirsi ishees dulloomee jira" jedheen.

15 Elsaa'is, "Ishee waami" jedheen. Kanaafuu inni ishee waame; isheenis balbala
dura dhaabatte. 16 Elsaa'i, "Ati waggaa dhufu keessa yeroo kanatti ilma ni hammatta"
jedheen.

Isheen immoo, "Akkas miti yaa gooftaa koo; yaa nama Waaqaa, ati garbittii kee hin
gowwoomsin!" jette.

17 Dubartiin sun garuu ni ulfoofte; akkuma Elsaa'i isheetti hime sanatti waggaa itti
aanu keessa yeruma sanatti ilma deesse.

18 Mucaan sunis ni guddate; innis gaaf tokko gara warra midhaan haamanii abbaa
isaa bira dhaqe. 19 Innis abbaa isaatiin, "Mataa koo! Mataa koo!" jedhe.

Abbaan isaa immoo hojjetaa tokkoon, "Baadhuutii gara haadha isaatti isa geessi"
jedhe. 20 Erga hojjetaan sun fuudhee gara haadha isaati isa geessee booddee mucaan
sun hamma saafaatti gudeeda haadha isaa irra taa'ee ergasii immoo ni du'e. 21 Isheen

ol baatee siree nama Waaqaa sanaa irra isa ciibsite; mana itti cuftees kaatee biraa
deemte.
22 Isheen dhirsa ishee waamtee, “Mee akka ani dafee gara nama Waaqaa dhaqee
deebi’uuf hojjetaa tokkoo fi harree tokko naaf ergi” jetteen.
23 Inni immoo, “Har’a ayyaana baatii miti yookaan Sanbata miti. Ati maaliif har’a
gara isaa dhaqxa ree?” jedheen.
Isheen, “Nagumaafin dhaqa” jette.
24 Isheenis harree ishee irra kooraa kaa’attee hojjetaa isheetiin, “Karaa qabadhu;
yoo ani sitti hime malee anaaf jettee suuta hin deemsisin” jette. 25 Kanaafuu isheen
kaatee gara Tulluu Qarmeloos nama Waaqaa sana bira dhaqxe.
Namni Waaqaa sun fagootti ishee arginaan tajaajilaa isaa Gehaaziin akkana jedhe;
“Ilaa! Dubartiin Suunam sun kuunnoo ti! 26 Fiigii ishee simadhuutii, ‘Ati fayyumaa?
Dhirsi kee fayyumaa? Mucaan kee fayyumaa?’ jedhii gaafadhu.”
Isheenis, “Wanni hundinuu naguma” jettee deebifte.
27 Isheen yommuu tulluu sana irratti nama Waaqaa sana bira geessetti, jabeessitee
miilla isaa qabatte. Gehaaz immoo gad dhiisisuuf dhufe; namni Waaqaa sun garuu,
“Ishee hin tuqin! Isheen gadda guddaa keessa jirti; WAAQAYYO garuu waan kana na
dhokse; nattis hin himne” jedhe.
28 Isheenis, “Yaa gooftaa koo ani ilma si kadhadheeraa? Ani, ‘Na hin gowwoomsin’
siin hin jennee?” jetteen.
29 Kana irratti Elsaa’i Gehaaziin akkana jedhe; “Sabbataan mudhii kee hidhadhuu-
tii, ulee koo harkatti qabadhuutii fiigi. Nama karaatti argite tokko illee hin dubbisin;
yoo namni kam iyyuu si dubbise deebii hin kenniniif; ulee koos fuula mucaa sanaa
irra kaa’i.”
30 Haati daa’ima sanaa garuu, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani lubbuu keetiin nan
kakadha; ani si dhiisee hin deemu” jette. Kanaafuu inni ka’ee ishee duukaa bu’e.
31 Gehaaz isaan dura darbee ulee sana fuula mucaa irra kaa’e; garuu sagaleen
yookaan mallattoon tokko iyyuu hin turre. Kanaaf Gehaaz gara Elsaa’itti deebi’ee,
“Mucaan hin dammaqne” jedhee itti hime.
32 Yommuu Elsaa’i mana ga’etti mucaan sun du’ee siree isaa irra ciisaa ture.
33 Elsaa’is ol seenee, ofii fi mucaatti balbala cufee WAAQAYYOON kadhate. 34 Ergasiis
siree yaabbatee, afaan isaa afaan mucaa irra, ija isaa ija mucaa irra, harka isaa harka
mucaa irra kaa’ee mucicha irra ciise. Akkuma inni mucaa sana irratti diriireen
dhagni mucaa ho’uu jalqabe. 35 Elsaa’i achi garagalee mana keessa asii fi achi
nanaanna’ee amma illee siree yaabbatee mucaa irratti diriire. Mucaan sunis yeroo
torba haxxifatee ija banate.
36 Elsaa’is Gehaazin waamee, “Dubartii Suunam sana as waami” jedhe. Innis ishee
waame. Elsaa’i yommuu isheen gara isaa dhuftetti, “Kunoo mucaa kee fudhadhu”
jedheen. 37 Isheen ol seentee, miilla isaa irratti kuftee addaan lafatti gombifamte.
Ergasiis mucaa ishee fudhattee gad baate.

### *Du’a Okkotee Keessaa*

38 Elsaa’is ka’ee Gilgaalitti deebi’e; yeroo sanatti biyya sana keessa beelatu ture.
Innis utuu waldaan raajotaa fuula isaa dura taa’aa jiranii tajaajilaa isaatiin, “Okkotee
guddicha ibiddaa irra kaa’iitii namoota kanaaf ittoo bilcheessi” jedhe.
39 Isaan keessaa namni tokko raafuu funaannachuuf gad ba’ee wayinii bosonaa
tokko arge. Wayinii bosonaa sana irraa wiillee ciree dachaa uffata isaa guuttate.
Yeroo deebi’ettis buqqee sana murmuree okkotee ittoo sanatti naqe. Namni tokko
iyyuu waan sana hin beeku tureetii. 40 Ittoon sunis jaraaf dhi’eeffame; isaan garuu
akkuma nyaachuu jalqabaniin, “Yaa nama Waaqaa, okkotee kana keessa du’atu jira!”
jedhanii iyyan. Isaanis ittoo sana nyaachuu hin dandeenye.

[41] Elsaa'i, "Daakuu wayii naa fidaa" jedhe. Daakuu sanas okkoteetti naqee, "Akka nyaataniif namootaaf dhi'eessaa" jedhe. Ergasii wanni nama miidhu tokko iyyuu okkotee sana keessatti hin argamne.

### *Elsaa'i Nama Dhibba Tokko Soore*

[42] Namichi tokko buddeena garbuu kan mataa midhaan bilchaatee irraa tolfame digdamaa fi asheetii midhaanii nama Waaqaa sanaaf fidee Ba'aal Shaaliishaadhaa dhufe. Elsaa'is, "Akka isaan nyaataniif namootaaf kenni" jedhe.

[43] Tajaajilaan isaa immoo, "Ani akkamiinan waan kana nama dhibba tokko duratti dhi'eessuu danda'a?" jedhee gaafate.

Elsaa'i garuu, "Akka isaan nyaataniif namootaaf kenni. WAAQAYYO akkana
jedhaatii; 'Isaan nyaatanii hambaa illee ni qabaatu' " jedhee deebise. [44] Innis fuudhee
isaan duratti dhi'eesse; isaanis akkuma dubbii WAAQAYYOO sanaatti nyaatanii hambaa hambisan.

## 5

### *Na'amaan Lamxii Irraa Fayyifame*

[1] Na'amaan ajajaa loltoota mooticha Sooriyaa ture. Sababii WAAQAYYO karaa isaatiin warra Sooriyaatiif moo'icha kenneef inni fuula gooftaa isaa duratti nama guddaa akka malee ulfina qabu ture. Inni loltuu jagna; garuu lamxii qaba ture.

[2] Bara sana keessa tuunni loltoota Sooriyaa dhaqee intala dargaggeettii gosa Israa'el
tokko booji'e; isheenis niitii Na'amaan tajaajilaa turte. [3] Isheenis giiftii isheetiin,
"Gooftaan koo utuu raajicha Samaariyaa jiru sana bira dhaqee silaa inni lamxii sana irraa isa fayyisa ture!" jette.

[4] Na'amaan dhaqee waan intalli Israa'el jetteen sana gooftaa isaatti ni hime.
[5] Mootiin Sooriyaas, "Waan fedhe illee taanaan ati dhaqi; ani mootii Israa'elitti
xalayaa nan barreessaatii" jedhee deebiseef. Kanaafuu Na'amaan meetii taalaantii
kudhan, warqee saqilii kuma ja'aa fi uffata irraa jalaa kudhan fudhatee qajeele.
[6] Xalayaan inni mootii Israa'elitti geesse sun akkana jedha; "Ani akka ati lamxii irraa
isa fayyiftuuf xalayaa kana wajjin tajaajilaa koo Na'amaanin sitti ergeera."

[7] Mootiin Israa'elis akkuma xalayaa sana dubbiseen uffata ofii tarsaasee akkana jedhe; "Ani Waaqaa? Ani nama ajjeesuu fi deebisee jiraachisuu nan danda'aa? Namichi kun maaliif akka lamxiin isaa fayyuuf nama natti erga? Mee akka inni lola natti kaasuu barbaadu ilaalaa!"

[8] Elsaa'i namni Waaqaa sun akka mootiin Israa'el uffata isaa tarsaase dhageenyaan
ergaa itti ergee, "Ati maaliif uffata kee tarsaafte? Namicha sana natti ergi; innis akka
Israa'el keessa raajiin jiru ni beekaatii" jedheen. [9] Kanaafuu Na'amaan fardeen isaatii
fi gaariiwwan isaa fudhatee dhaqee balbala mana Elsaa'i dura dhaabate. [10] Elsaa'i
immoo, "Dhaqii Yordaanos keessatti yeroo torba dhiqadhu; foon kee fayyee akka duraatti siif deebi'a; atis ni qulqullooftaa" jedhee nama itti erge.

[11] Na'amaan garuu aariidhaan ka'ee biraa deemee akkana jedhe; "Ani waan inni
dhugumaan gara koo dhufee dhaabatee maqaa WAAQAYYO Waaqa isaa waamee iddoo
sana irra harka isaa qabee lamxii koo fayyisun se'e. [12] Abaanaa fi Faarfaan lageen
Damaasqoo sun bishaanota Israa'el keessaa kam iyyuu hin caalanii? Ani isaan keessatti dhiqadhee fayyuu hin danda'u turee?" Kanaafuu inni akka malee aaree of irra garagalee deeme.

[13] Tajaajiltoonni Na'amaanis gara isaa dhaqanii, "Yaa abbaa ko, ati utuu raajiin kun
waan guddaa tokko hojjedhu siin jedhee ni hojjetta mitii? Yoo inni, 'Dhiqadhuutii
qulqullaa'i' siin jedhe immoo hammam caalchiftee hin hojjettu ree?" jedhaniin.
[14] Kanaafuu inni dhaqee akkuma namni Waaqaa sun jedheenitti yeroo torba

Yordaanos keessa seenee ba'e; dhagni isaas fayyee akkuma duraatti deebi'eefii
akkuma dhagna mucaa xinnaa tokkootti qulqullaa'eef.
15 Ergasii Na'amaanii fi tajaajiltoonni isaa hundi gara nama Waaqaa sanaatti
deebi'an. Ni'imaanis fuula isaa dura dhaabatee, "Ani akka Israa'el keessa malee
addunyaa guutuu keessa Waaqni hin jirre amma beekeera. Kanaafuu maaloo
garbicha kee irraa kennaa tokko fudhadhu" jedhe.
16 Raajiin sun immoo, "Dhugaa WAAQAYYO jiraataa ani isa tajaajiluu sanaa, ani waan
tokko illee sirraa hin fudhadhu" jedhee deebise. Yoo Na'amaan cimsee isa kadhate
iyyuu inni fudhachuu dide.
17 Kana irratti Na'amaan akkana jedheen; "Yoo fudhachuu baatte immoo, maaloo
akka biyyoon gaangoo lamaa ana garbicha keetiif kennamu ajaji; garbichi kee si'achi
deebi'ee WAAQAYYOOF malee waaqota tolfamoo biraatiif aarsaa gubamuu fi qalma hin
dhi'eessuutii. 18 Garuu WAAQAYYO waan tokkicha kana garbicha keetiif haa dhiisu:
Gooftaan koo yommuu achitti sagaduuf mana qulqullummaa Rimoon seenutti natti
irkata; anis yommuu inni sagadutti nan sagada; WAAQAYYO waan kana ana garbicha
keetiif haa dhiisu."
19 Eelisaa'is, "Nagaan deemi" jedheen.
Erga Na'amaan xinnoo achi fagaatee booddee, 20 Gehaaz tajaajilaan Elsaa'i nama
Waaqaa sanaa akkana ofiin jedhe; "Gooftaan koo utuu kennaa inni fide sana irraa hin
fudhatin Na'amaan namicha warra Arraam kana akkasumatti gad lakkise. Dhugaa
WAAQAYYO jiraataa, ani isa faana fiigeen waa irraa fudhadha."
21 Kanaafuu Gehaaz dafee Ni'imaan duukaa bu'e. Na'amaanis yommuu akka inni
gara isaatti fiigaa jiru argetti isa simachuudhaaf gaarii irraa bu'ee, "Wanni hundi
nagumaa?" jedhee isa gaafate.
22 Gehaazis akkana jedhee deebiseef; "Wanni hundinuu naguma. Gooftaan koo,
'Kunoo ammuma waldaa raajotaa keessaa dargaggoonni lama biyya gaaraa Efreem
irraa natti dhufaniiru. Maaloo meetii taalaantii tokkoo fi uffata irraa jalaa lama
kenniif' akkan siin jedhuuf na erge."
23 Na'amaan immoo Gehaaziin, "Akkuma fedhe illee ta'u taalaantii lama fudhadhu"
jedhe. Innis akka Gehaaz waan sana fudhatuuf cimsee isa kadhate; ergasiis meetii
taalaantii lama borsaa lamatti hidhee uffata irraa jalaa lama wajjin tajaajiltoota
isaatti kenne. Isaanis baatanii Gehaaz dura qajeelan. 24 Gehaazis yommuu gaara bira
ga'etti waan sana hojjettoota sana harkaa fuudhee mana keessa ol kaa'e. Namoota
sanas of irraa geggeesse; isaanis ka'anii deeman. 25 Innis ergasii dhaqee fuula gooftaa
isaa Elsaa'i dura dhaabate.
Elsaa'is, "Gehaaz, ati eessa turte?" jedhee gaafate.
Gehaaz immoo, "Ani garbichi kee eessa iyyuu hin deemne" jedhee deebise.
26 Elsaa'i garuu akkana jedheen; "Yeroo namichi sun si'i simachuuf gaarii isaa
irraa bu'e sanatti hafuurri koo si wajjin hin turree? Yeroon kun yeroo itti maallaqa
yookaan wayyaa, lafa qotiisaa ejersaa, iddoo dhaabaa wayinii, bushaayee, karra
loonii yookaan garboota dhiiraa fi garboota nadheenii fudhataniidhaa? 27 Lamxiin
Na'amaan sun hamma bara baraatti si'ii fi sanyii keetiitti qabatee hafa." Innis
lamxaa'ee akkuma cabbii addaatee fuula Elsaa'i duraa ba'ee deeme.

# 6

*Qottoon Bishaan Irra Deeme*

1 Ilmaan raajotaa sun Elsaa'iin akkana jedhan; "Kunoo, iddoon nu si wajjin wal
geenyu nutti dhiphateera. 2 Akka nu Yordaanos dhaqnee tokkoon tokkoon keenya
muka cirannee iddoo jiraannu achitti ijaarrannuuf nuu eeyyami."
Innis, "Dhaqaa" jedheen.

3 Isaan keessaa namni tokko, “Maaloo ati nu garboota kee wajjin hin deemtuu?”
jedhee gaafate.

Elsaa’i immoo, “Nan deema” jedhee deebise. 4 Innis isaan wajjin deeme.

Isaan Yordaanos dhaqanii muka cirachuu jalqaban. 5 Isaan keessaa tokko utuu
muka muruutti jiruu qottoon muka isaa irraa buqqa’ee bishaan keessa bu’e. Namichi
sunis, “Wayyoo kaa, yaa gooftaa koo; wanni kun waan ergifatamee dha!” jedhee iyye.

6 Namni Waaqaa sunis “Qottoon eessa bu’e?” jedhee gaafate. Yommuu inni iddoo
qottoon sun bu’e isa argisiisetti Elsaa’i muka xinnaa tokko kutee achi keessa buusee
akka sibiilli sun bishaan gubbaa deemu godhe. 7 Innis, “Ol fudhadhu” jedheen.
Namichi sunis harka diriirfatee qottoo isaa fudhate.

### *Elsaa’i Namoota Sooriyaa Jaamse*

8 Yeroo sanatti mootiin Sooriyaa Israa’eliin wal lolaa ture. Innis erga ajajjoota
loltoota isaatiin mari’atee booddee, “Ani lafa akkasiitii fi lafa akkasii keessa qubata
koo nan dhaabbadha” jedhe.

9 Namni Waaqaa sunis, “Sababii namoonni Sooriyaa achitti gad bu’aa jiraniif ati
akka karaa sanaan hin dabarre of eeggadhu” jedhee mootii Israa’elitti ergaa erge.
10 Kanaafuu mootiin Israa’el gara iddoo namni Waaqaa sun waa’ee isaa dubbate
sanaatti nama ergee ni to’ate. Elsaa’is akka mootichi iddoowwan akkasii irraa of
eeggatu ammumaa amma isa akeekkachiise.

11 Wanni kun akka malee mootii Sooriyaa aarse. Innis ajajjoota loltoota isaa walitti
waamee, “Isin amma nama nu keessaa mootii Israa’eliif hojjechaa jiru natti hin
himtanii?” jedhee gaafate.

12 Ajajjoota sana keessaa namni tokko akkana jedhe; “Yaa gooftaa koo mooticha,
nu keessaa namni akkasii hin jiru; garuu Elsaa’i raajicha Israa’el keessa jiru sanatu
dubbii ati diinqa kee keessatti dubbattu hunda mootii Israa’elitti hima.”

13 Mootichi Sooriyaas, “Akka ani nama itti ergee isa qabsiisuu danda’uuf dhaqaatii
lafa inni jiru ilaalaa” jedhee ajaje. Oduun, “Inni Dootaan keessa jira” jedhu tokkos
isatti himame. 14 Innis ergasii fardeen, gaariiwwanii fi waraana jabaa achitti ni erge.
Isaanis halkaniin dhaqanii magaalaa sana marsan.

15 Yommuu tajaajilaan nama Waaqaa sanaa guyyaa itti aanu ganama bariin gad
ba’etti humni waraanaa tokko fardeenii fi gaariiwwaniin magaalaa sana marsee ture.
Tajaajilaan sunis, “Wayyoo kaa, yaa gooftaa ko, maal goonu?” jedhee gaafate.

16 Raajiin sun immoo, “Hin sodaatin; warri nu wajjin jiran warra isaan wajjin jiran
caalaniitii” jedhee deebise.

17 Elsaa’is, “Yaa Waaqayyo, akka inni arguu danda’uuf ija isaa baniif” jedhee
kadhate. Waaqayyos ija tajaajilaa sanaa ni bane; innis mil’atee akka gaarran sun
naannoo Elsaa’itti fardeenii fi gaariiwwan ibiddaatiin guutamanii jiran ni arge.

18 Diinni sun gara isaatti gad buunaan Elsaa’i, “Jara kana jaamsi” jedhee
Waaqayyoon kadhate. Kanaafuu Waaqni akkuma Elsaa’i isa kadhate sana isaan
jaamse.

19 Elsaa’is, “Karaan sun kana miti; magaalaan sunis kana miti. Amma na
duukaa bu’aa; anis nama isin barbaaddanitti isinan geessa” jedheen. Innis akkasiin
Samaariyaatti isaan ni geesse.

20 Erga isaan magaalaa sana seenanii booddee Elsaa’i, “Yaa Waaqayyo akka isaan
arguu danda’aniif ija jara kanaa baniif” jedhe. Waaqayyos ija isaanii ni baneef;
isaanis akka Samaariyaa keessa jiran ni argan.

21 Mootiin Israa’elis isaan arginaan, “Yaa abbaa ko, ani isaan fixuu? Ani isaan
fixuu?” jedhee Elsaa’in ni gaafate.

22 Innis akkana jedhee deebise; “Isaan hin fixin; ati namoota boojite goraadee
keetiin yookaan xiyya keetiin ni ajjeeftaa? Akka isaan nyaatanii dhuganii gara
gooftaa isaaniitti deebi’aniif nyaataa fi dhugaatii dhi’eessiif.” 23 Kanaafuu inni cidha
guddaa qopheesseefii erga isaan nyaatanii dhuganii booddee of irraa isaan geggeesse;
isaanis gara gooftaa isaaniitti deebi’an. Namoonni Sooriyaas ergasii deebi’anii biyya
Israa’el hin weerarre.

### *Ben-Hadaad Samaariyaa Marse*

24 Yeroo gabaabaa booddee, Ben-Hadaad mootichi Sooriyaa loltoota isaa hunda
walitti qabatee dhaqee Samaariyaa marse. 25 Beela akka malee hamaatu magaalaa
sana keessa ture; waan magaalaan sun yeroo dheeraadhaaf marfamteef, mataan
harree tokko meetii saqilii saddeettamatti, udaan gugee kiiloon tokko harka afur
keessaa harki tokko meetii saqilii shanitti gurgurame.
26 Utuu mootiin Israa’el dallaa dhagaa irraan darbuu dubartiin tokko, “Yaa gooftaa
koo mooticha, na gargaari” jettee itti iyyite.
27 Mootichi immoo akkana jedhee deebiseef; “Yoo Waaqayyo si hin gargaarin ani
eessaan gargaarsa siif arga? Oobdii midhaanii irraa moo? Iddoo wayinii itti cuunfan
irraa?” 28 Ergasii, “Rakkoon kee maal?” jedhee ishee gaafate.
Isheenis akkana jettee deebifteef; “Dubartiin kun, ‘Akka nu har’a isa nyaannuuf
mucaa kee nuu kenni; bor immoo mucaa koo nyaannaatii’ naan jette. 29 Kanaaf nu
mucaa koo bilcheeffannee nyaanne. Guyyaa itti aanutti immoo ani, ‘Akka nu isa
nyaannuuf mucaa kee nuuf kenni’ jedheen. Isheen garuu mucaa ishee ni dhokfatte.”
30 Mootichi yommuu dubbii dubartii sanaa dhaga’etti uffata isaa tarsaase. Utuu inni
dallaa dhagaa irraan darbaa jiruu namoonni akka inni dhagna isaatti aansee wayyaa
gaddaa uffatee jiru argan. 31 Innis, “Yoo mataan Elsaa’i ilma Shaafaax, edana isa irra
bule, Waaqni na haa adabu; adabbiin sunis akka malee natti haa cimuu!” jedhe.
32 Yeroo kanatti Elsaa’i mana isaa keessa taa’aa ture; maanguddoonnis isa wajjin
tataa’aa turan. Mootichi ergamaa tokko of dura erge; garuu utuu ergamaan sun hin
dhufinuu Elsaa’i maanguddootaan akkana jedhe; “Isin akka namichi nama ajjeesu
kun mataa narraa kutuuf nama erge argituu? Kunoo yoo ergamaan sun dhufe balbala
cufaatii ol seenuu dhowwaa. Kotteen gooftaa isaa isa duubaan dhaga’amaa jira
mitii?” 33 Utuma inni amma iyyuu isaan wajjin haasa’aa jiruu, ergamaan sun gara
isaa dhufe.
Mootichis, “Balaan kun Waaqayyo biraa dhufe. Ani si’achi maaliifin Waaqayyoon
eega?” jedhe.

## 7

1 Elsaa’i, “Dubbii Waaqayyoo dhaga’aa. Waaqayyo akkana jedha: Bor yoona karra
Samaariyaa duratti daakuun safartuun tokko saqilii tokkotti, garbuun safartuun lama
immoo saqilii tokkotti gurgurama” jedhe.
2 Ajajaan loltootaa kan mootichi irree isaatti irkate sun nama Waaqaa sanaan,
“Utuma Waaqayyo karra burqaa Samiiwwanii banee iyyuu wanni kun ta’uu
danda’aa?” jedhe.
Elsaa’i immoo, “Ati ijuma keetiin argita; garuu tokkoo isaa illee hin nyaattu!” jedhe.

### *Warri Sooriyaa Baqatan*

3 Yeroo kanatti namoota lamxii qaban afurtu balbala ittiin magaalattii seenan dura
ture. Isaanis akkana waliin jedhan; “Nu maaliif hamma duunutti as teenya? 4 Yoo
nu, ‘Kottaa magaalaa seennaa’ jenne, beelli achi jira; nus ni duuna. Yoo as turre ni
duuna. Kanaafuu kottaa gara qubata warra Sooriyaa dhaqnaa. Yoo isaan nu maaran
ni jiraanna; yoo isaan nu fixan immoo ni dhumna.”

5 Isaan galgala dimimmisaan ka'anii gara qubata warra Sooriyaa ni dhaqan.
Yommuu isaan qubata sana bira ga'anitti namni tokko iyyuu achi hin turre; 6 Kunis
sababii Gooftaan akka warri Sooriyaa didichuu gaariiwwanii, fardeeniitii fi kan
waraana guddaa dhaga'anii, "Kunoo, mootiin Israa'el nu dha'uuf jedhee mootii
Heetotaatii fi mootii warra Gibxi nutti bitateera!" waliin jedhan godheef. 7 Kanaafuu
isaan dunkaana isaanii, fardeenii fi harroota isaanii dhiisanii dimimmisaan baqatan.
Qubata isaaniis akkuma jirutti dhiisanii lubbuu isaanii oolfachuudhaaf ni baqatan.

8 Namoonni lamxii qaban sun daarii qubata sanaa bira ga'anii dunkaana tokko
seenan. Isaanis waa nyaatanii dhuganii meetii, warqee fi wayyaa guurratanii
dhaqanii dhokfatan. Amma illee deebi'anii dunkaana biraa seenanii waa keessaa
guurratanii akkasuma dhokfatan.

9 Kana irratti isaan akkana waliin jedhan; "Nu waan qajeelaa hojjechuutti hin jirru;
guyyaan kun guyyaa oduu gaarii ti; nu garuu inuma cal'ifne. Yoo nu hamma bari'utti
cal'ifne adabbiitu nu eeggata. Kanaafuu kottaa dafnee dhaqnee oduu kana mana
mootummaatti himnaa."

10 Isaanis dhaqanii namoota karra magaalaa eegan waamanii, "Nu gara qubata
warra Sooriyaa ni dhaqne; namni tokko illee achi hin turre; sagaleen nama tokkoo
iyyuu hin dhaga'amne. Fardeenii fi harroota hidhamanii fi dunkaana akkuma
dhaabametti dhiifame qofatu ture" jedhan. 11 Warri karra eegan sunis oduu kana
ni labsan; oduun sunis masaraa mootummaa keessatti ni dhaga'ame.

12 Mootichis halkaniin ka'ee ajajjoota loltoota isaatiin akkana jedhe; "Ani waan
warri Sooriyaa nutti hojjetan isinittin hima; isaan akka nu beelaan miidhamaa jirru
beeku; kanaafuu isaan, 'Dhugumaan isaan gad ni ba'u; ergasiis nu utuma lubbuun
jiranuu isaan qabnee magaalattii seenna' jedhanii yaaduudhaan baadiyyaa keessa
dhokachuudhaaf qubata dhiisanii ba'an."

13 Ajajjoota loltoota isaa keessaa tokko akkana jedhee deebise; "Namoonni tokko
tokko fardeen magaalaa keessatti hafan keessaa shan fudhatanii haa deeman.
Rakkinni isaanii akkuma Israa'eloota asitti hafan hundaa ti; dhugumaan isaan
akkuma Israa'eloota dhuman sana hundaa ni ta'u. Kanaafuu kottaa waan ta'e
beekuudhaaf isaan erginaa."

14 Kanaafuu isaan gaariiwwan lama fardeen isaanii wajjin ni filan; mootichis,
"Dhaqaatii ilaalaa" jedhee loltoota Sooriyaa duubaan isaan erge. 15 Isaanis hamma
Yordaanositti isaan duukaa bu'an; kunoo karaan hundi uffataa fi mi'a warri Sooriyaa
yeroo ariitiidhaan baqatanitti daddarbataniin guutamee ture. Ergamoonni sunis
deebi'anii mootichatti himan. 16 Ergasiis namoonni gad yaa'anii qubata warra
Sooriyaa ni saaman. Kanaafuu akkuma WAAQAYYO dubbate sana daakuun safartuun
tokko saqilii tokkotti, garbuun safartuun lama immoo saqilii tokkotti gurgurame.

17 Mootichis yeroo kanatti ajajaa loltootaa kan irree isaatti irkatee ture sana itti
gaafatamaa karraa godhee muude; namoonnis karra duratti isa irra yaa'an; innis
akkuma namni Waaqaa yeroo mootichi mana isaa dhufetti dubbate sana ni du'e.
18 Kunis akkuma namni Waaqaa sun, "Bori yoona karra Samaariyaa duratti daakuun
safartuun tokko saqilii tokkotti, garbuun safartuun lama immoo saqilii tokkotti ni
gurgurama" jedhee mootichatti hime sana ta'e.

19 Ajajaan loltootaa sunis nama Waaqaa sanaan "Utuma WAAQAYYO karra burqaa
samiiwwanii bane illee wanni kun ta'uu danda'aa?" jedhe. Namni Waaqaa sun
immoo, "Ati ijuma keetiin argita; garuu tokkicha isaa illee hin nyaattu!" jedhe.
20 Wanni isa irra ga'es dhugumaan kanaa dha; inni waan namoonni karra duratti
isa irra yaa'aniif du'eetii.

# 8

*Lafti Dubartii Suunam Ni Deebi'eef*

1 Yeroo kanatti Elsaa'i dubartii ilma ishee du'aa kaaseef sanaan, "Sababii WAAQAYYO
beela waggaa torba turu tokko biyya kanatti ajajeef, maatii kee wajjin asii deemiitii
iddoo jiraachuu dandeessu kam iyyuu jiraadhu" jedhe. 2 Dubartiin sunis kaatee
akkuma namni Waaqaa sun jedheen goote. Ishee fi maatiin ishee dhaqanii biyya
Filisxeemotaa keessa waggaa torba jiraatan.

3 Isheenis dhuma waggaa torbaatti biyya Filisxeemotaatii deebitee manaa fi lafa
ishee kadhachuuf gara moottichaa ni dhaqxe. 4 Mootichis, "Mee waan Elsaa'i hojjete
gurguddaa natti himi" jedhee Gehaaz tajaajilaa nama Waaqaa sana wajjin haasa'aa
ture. 5 Utuma Gehaaz akka Elsaa'i nama du'e illee du'aa kaase isatti himuutti jiruu
dubartiin Elsaa'i ilma ishee du'aa kaaseef sun manaa fi lafa ishee kadhachuudhaaf
gara mootichaa dhufte.

Gehaazis, "Yaa gooftaa koo mooticha, dubartiin Elsaa'i mucaa ishee du'aa kaaseef
sun kunoo ti" jedhe. 6 Mootichi waa'ee waan sanaa dubartittii gaafate; isheenis itti
himte.

Innis ergasii qondaala tokko dubbii isheetti ramadee, "Galii guyyaa isheen biyyaa baatee jalqabee lafa qotiisaa ishee irraa argame hunda itti dabaliitii waan kan ishee ture hunda deebisiif" jedheen.

*Hazaa'eel Ben-Hadaadin Ajjeese*

7 Elsaa'i Damaasqoo dhaqe; Ben-Hadaad mootichi Sooriyaa immoo dhukkubsatee
ture. Mootiin sunis yommuu, "Namni Waaqaa sun as dhufee jira" jedhanii itti
himanitti, 8 Hazaa'eeliin akkana jedhe; "Kennaa wayii fudhadhuutii dhaqii nama
Waaqaa sana simadhu. Karaa isaatiinis, 'Ani dhukkuba kana irraa nan hafaa?' jedhii
WAAQAYYOON gaafadhu."

9 Hazaa'eelis waan Damaasqoo keessaa akka malee gaggaarii ta'e fudhatee kennaa fe'iisa gaala afurtamaatiin Elsaa'in simachuu dhaqe. Ol seenees fuula isaa dura dhaabatee, "Ilma kee Ben-Hadaad mooticha Sooriyaatu, 'Ani dhukkuba kana irraa hafaa?' jedhee sitti na erge" jedheen.

10 Elsaa'i immoo, "Dhaqiitii, 'Ati dhugumaan irraa hafta' jedhiin; garuu WAAQAYYO
akka inni dhugumaan du'u na argisiiseera" jedhee deebiseef. 11 Elsaa'i hamma
Hazaa'eel qaana'utti utuu ija irraa hin buqqifatin isa ilaale. Ergasii namni Waaqaa
sun boo'uu jalqabe.

12 Hazaa'eelis, "Gooftaan koo maaliif boo'a?" jedhee gaafate.

Inni immoo akkana jedhee deebise; "Sababii ani miidhaa ati Israa'elitti fiddu beekuuf; ati da'annoo isaaniitti ibidda naqxa; dargaggoota isaanii goraadeedhaan fixxa; daa'imman isaanii lafaan dhooftee mimmiciriqsita; dubartoota isaanii kanneen ulfaa'an garaa baqaqsita."

13 Hazaa'eel, "Ani garbichi kee sareen kun akkamiin waan hamtuu akkanaa hojjedha?" jedhe.

Elsaa'i immoo, "WAAQAYYO akka ati mootii Sooriyaa taatu na argisiiseera" jedhee deebiseef.

14 Hazaa'eel ergasii Elsaa'i biraa ba'ee gara gooftaa isaatti deebi'e. Yommuu Ben-
Hadaad, "Elsaa'i maal siin jedhe?" jedhee gaafatettis, Hazaa'eel, "Inni akka ati
dhugumaan irraa haftu natti hime" jedhee deebise. 15 Inni garuu guyyaa itti aanu
wayyaa furdaa tokko fuudhee bishaan keessa cuuphee fuula mootichaa haguuge;
akkasiin mootichi du'e. Ergasii Hazaa'eel iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

*Yehooraam Mooticha Yihuudaa*
*8:16-24 kwf – 2Sn 21:5-10,20*

16 Bara Yehooraam ilma Ahaab mooticha Israa'el keessa waggaa shanaffaatti
Yooraam ilmi Yehooshaafaax mooticha Yihuudaa sun mootii ta'ee bulchuu jalqabe.
17 Yeroo sanatti umuriin isaa waggaa soddomii lama ture; innis Yerusaalem keessa
taa'ee waggaa saddeet ni bulche. 18 Innis akkuma manni Ahaab godhee ture sana
karaa mootota Israa'el duukaa bu'e; intala Ahaab fuudhee tureetii. Fuula WAAQAYYOO
durattis waan hamaa hojjete. 19 Ta'us WAAQAYYO sababii garbicha isaa Daawitiif
jedhee Yihuudaa balleessuun fedhii WAAQAYYOO hin turre. Inni Daawitii fi sanyii
isaatiif ibsaa bara baraa dhaabuuf kakuu galee ture.

20 Bara Yooraam keessa Edoom Yihuudaatti fincilee mootii ofii isaa moosifate.
21 Kanaafuu Yooraam gaariiwwan isaa hunda wajjin Zaa'iiri dhaqe. Warri Edoomis
isaa fi ajajjoota gaariiwwan isaa marsan; inni garuu halkaniin ka'ee isaan ni dha'e;
loltoonni isaa garuu gara biyya isaaniitti baqatan. 22 Edoom hamma har'aatti illee
akkuma Yihuudaatti finciletti jira. Libnaanis yeruma sanatti fincile.

23 Wantoonni bara mootummaa Yooraam keessa hojjetaman kan biraatii fi wanni
inni hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru mitii?
24 Yooraam abbootii ofii wajjin boqotee Magaalaa Daawit keessatti isaan biratti ni
awwaalame. Ahaaziyaan ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

### *Ahaaziyaa Mooticha Yihuudaa*
*8:25-29 kwf – 2Sn 22:1-6*

25 Bara Yehooraam ilma Ahaab mooticha Israa'el keessa waggaa kudha lam-
maffaatti Ahaaziyaan ilmi Yooraam mootii Yihuudaa ta'ee bulchuu jalqabe.
26 Ahaaziyaan yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii lama ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa tokko ni bulche. Maqaan haadha isaa Ataaliyaa
dha; isheenis intala ilma Omrii mooticha Israa'el sanaa turte. 27 Innis karaa mana
Ahaab duukaa bu'ee, akkuma manni Ahaab godhe sana fuula WAAQAYYOO duratti
waan hamaa hojjete; inni karaa fuudhaatiin maatii Ahaabitti firoomee tureetii.

28 Ahaaziyaanis Yooraam ilma Ahaab wajjin Hazaa'eel mooticha Arraam loluudhaaf
Raamoot Gili'aaditti duule. Warri Arraamis Yooraamin ni madeessan; 29 kanaafuu
Yehooraam mootichi madaa warri Arraam yeroo inni Raamaat keessatti Hazaa'eel
mooticha Arraam wajjin wal loletti isa madeessan sana fayyuuf jedhee Yizri'eelitti
deebi'e.

Kana irratti Ahaaziyaan ilmi Yooraam mootichi Yihuudaa sababii inni madaa'ee
tureef Yooraam ilma Ahaab arguuf gara Yizri'eelitti gad bu'e.

## 9

### *Yehuun Mootii Israa'el ta'ee Dibame*

1 Elsaa'i raajichi ilmaan raajotaa keessaa nama tokko waamee akkana jedheen;
"Mudhii kee hidhadhuutii bilqaaxxii zayitii kana fuudhii Raamooti Gili'aad dhaqi.
2 Yeroo achi geessutti Yehuu ilma Yehooshaafaax ilma Nimshii sana barbaadi. Gara
isaa dhaqiitii miiltota isaa biraa isa fuudhiitii diinqatti isa galchi. 3 Ergasii bilqaaxxii
sana fuudhii zayitii sana mataa isaatti naqiitii, 'WAAQAYYO akkana jedha: Ani Israa'el
irratti mootii godhee si dibeera.' Ergasii balbala banadhuutii fiigi malee hin turin!"

4 Kanaafuu raajichi dargaggeessi sun ka'ee Raamooti Gili'aad dhaqe. 5 Yommuu
achi ga'ettis ajajjoota loltootaa kanneen walitti qabamanii tataa'an arge. Innis, "Yaa
ajajaa, ani ergaa siif qaba" jedhe.

Yehuun immoo, "Nu keessaa, ati eenyuuf ergaa qabda?" jedhee gaafate.

Innis, "Yaa ajajaa, si'iif" jedhee deebise.

6 Yehuun ka'ee mana ol seene. Raajichi sun mataa Yehuutti zayitii naqee akkana
jedheen; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha; 'Ani saba WAAQAYYOO, Israa'el
irratti mootii godhee sin diba. 7 Ati mana gooftaa keetii mana Ahaab balleessuu

qabda; anis dhiiga garboota koo raajotaatii fi dhiiga garboota WAAQAYYOO kanneen
Iizaabel dhangalaafte hunda haaloo nan baasa. 8 Manni Ahaab guutumaan guutuutti
ni bada. Ani dhiira maatii Ahaab kanneen Israa'el keessatti hafan hunda garbas ta'u
birmaduu nan balleessa. 9 Ani mana Ahaab akkuma mana Yerobi'aam ilma Nebaatii
fi akkuma mana Ba'ishaan ilma Ahiiyaa sanaa nan godha. 10 Iizaabelin immoo
sarootatu biyya Yizri'eel keessatti nyaata; namni tokko iyyuu ishee hin awwaalu.' "
Innis ergasii balbala banatee fiige.

11 Yehuun gara ajajjuuwwan isa wajjin turan sanaatti gad baanaan isaan keessaa
namni tokko, "Wanni hundi nagumaa? Namichi maraatuun kun maaliif si bira
dhufe?" jedhee isa gaafate.

Yehuunis, "Ati namichaa fi waan inni dubbate ni beekta" jedhee deebiseef.

12 Isaanis, "Kun dhugaa miti! Nutti himi" jedhaniin.

Yehuun, "Wanni inni natti hime kanaa dha; 'WAAQAYYO akkana jedha: Ani Israa'el
irratti mootii godhee si dibeera' " jedhee deebiseef.

13 Isaan dafanii wayyaa isaanii of irraa fuudhanii gulantaawwan duwwaa irra isa
jala afan. Ergasii immoo malakata afuufanii, "Yehuun mootii dha!" jedhan.

### *Yehuun Yehooraamii fi Ahaaziyaa Ajjeese*
*9:21-29 kwf – 2Sn 22:7-9*

14 Kanaafuu Yehuun ilmi Yehooshaafaax ilmi Nimshii Yooraamitti malate. Yeroo
sanatti Yooraamii fi Israa'el hundi Raamooti Gili'aad irraa Hazaa'eel mooticha
Sooriyaa eegaa turan; 15 Yehooraam mootichi garuu madaa warri Arraam yeroo
inni Hazaa'eel mooticha Arraamiitiin wal loletti isa madeessan sanaaf wal'aansa
argachuuf jedhee Yizri'eelitti deebi'ee ture. Yehuun, "Yoo yaadni kee kana ta'e, akka
namni tokko iyyuu magaalaa keessaa gad ba'ee dhaqee oduu kana Yizri'eel keessatti
odeessu hin eeyyamin" jedhe. 16 Innis ergasii gaarii isaa seenee sababii Yooraam
achitti boqochaa jiruu fi sababii Ahaaziyaa mootichi Yihuudaa isa arguuf gad bu'eef
Yizri'eelitti qajeele.

17 Eegduun gamoo eegumsaa kan Yizri'eel keessaa irra dhaabachaa ture sun
yommuu loltoota Yehuu kanneen dhufaa jiran argetti, "Ani loltoota dhufaa jiran
tokkon arga" jedhee iyye.

Yehooraamis, "Abbaa fardaa tokko waamiitii akka inni isaanitti gad ba'ee, 'Isin
naguma dhuftanii?' jedhee isaan gaafatuuf itti ergi" jedhee ajaje.

18 Abbaan fardaa sunis Yehuu arguuf gulufee dhaqee, "Mootichi, 'Isin naguma
dhuftanii?' jedha" jedheen.

Yehuun immoo, "Ati nagaa irraa maal qabda? Garagaliitii na duukaa bu'i" jedhee
deebise.

Eegduun sunis, "Ergamaan isaan bira ga'eera; garuu as hin deebine" jedhee hime.

19 Kanaafuu mootichi abbaa fardaa lammaffaa erge. Innis gara isaanii dhaqee,
"Mootichi, 'Isin naguma dhuftanii?' jedha" jedheen.

Yehuun immoo, "Ati nagaa irraa maal qabda? Garagaliitii na duukaa bu'i" jedhee
deebise.

20 Eegduun sunis, "Inni isaan bira ga'eera; garuu as hin deebine. Oofichi isaa
akkuma ooficha Yehuu ilma Nimshii sanaa ti; inni akkuma nama maraate tokkootti
oofaatii" jedhee hime.

21 Kana irrati Yehooraam, "Gaarii koo naa qopheessaa" jedhee ajaje. Erga
gaariin qopheeffamee booddee Yehooraam mootichi Israa'elii fi Ahaaziyaan mootichi
Yihuudaa, tokkoon tokkoon isaanii gaarii isaanii yaabbatanii Yehuu simachuu
dhaqan. Isaanis lafa qotiisaa Naabot namicha Yizri'eel sanaa keessatti isa argatan.
22 Yehooraam yommuu Yehuu argetti, "Iyyuu, ati naguma dhuftee?" jedhee gaafate.

Yehuun immoo, "Hamma sagaagalummaa fi falfalli haadha kee Iizaabel biyya
guutee jirutti nagaa maaltu jiraachuu danda'a?" jedhee deebise.

23 Yehooraam of irra garagalee Ahaaziyaadhaan, “Yaa Ahaaziyaa, wanni kun
maltummaa dha!” jedhee baqate.

24 Yehuun xiyya isaa darbatee gatiittii Yehooraam gidduu waraane; xiyyi sunis
onnee isaa keessa fulla’e; innis gaarii isaa keessatti kufe. 25 Yehuunis ajajaa gaarii
isaa Bidqaariin akkana jedhe; “Isa fuudhiitii lafa qotiisaa Naabot namicha Yizri’eel
sanaa keessatti gati. Akka WAAQAYYO gaafa anii fi ati gaariidhaan Ahaab abbaa isaa
duubaan gulufaa turre sana akkana jedhee waa’ee isaa raajii dubbate yaadadhu:
26 ‘Ani kaleessa dhiiga Naabotiitii fi dhiiga ilmaan isaa argeera, jedha WAAQAYYO;
ani dhugumaan akka ati gatii dhiiga sanaa lafa qotiisaa sana irratti baaftu nan
godha’ jedha WAAQAYYO. Egaa amma isa fuudhiitii akkuma dubbii WAAQAYYOOTTI
lafa qotiisaa sana keessatti isa gati.”

27 Ahaaziyaa mootichi Yihuudaa yommuu waan kana argetti karaa Beet Hagaanitti
geessuun baqate. Yehuun, “Isas ajjeesaa!” jedhee iyyaa isa ari’e. Isaanis karaa
Guuritti geessu irratti Yible’aam biratti isa madeessan; inni garuu Megidootti baqatee
achitti du’e. 28 Tajaajiltoonni isaa gaariidhaan Yerusaalemitti isa geessanii awwaala
isaa kan Magaalaa Daawit keessaatti abbootii isaa biratti isa awwaalan. 29 Bara
Yooraam ilma Ahaab keessa waggaa kudha tokkoffaatti Ahaaziyaan mootii Yihuudaa
ta’e.

### *Iizaabel Ajjeefamte*

30 Ergasii Yehuun ka’ee Yizri’eel dhaqe. Iizaabel yommuu waan kana dhageessetti
ija ishee kuulattee mataa dha’attee foddaa keessaan ala ilaalte. 31 Akkuma Yehuun
karraan ol seeneen Iizaabel, “Zimrii, ati namichi gooftaa kee ajjeefte naguma
dhuftee?” jetteen.

32 Innis foddaa sana keessaan ol ilaalee, “Eenyutu na bira jira? Eenyuu dha?” jedhe.
Xu’aashiiwwan lama yookaan sadii ta’an gara isaa gad ilaalan. 33 Yehuun, “Ishee gad
darbadhaa!” jedheen. Kanaafuu isaan gad ishee darbatan; akkasiin dhiigni ishee
keenyan manaatii fi fardeen kotteedhaan ishee irra yaa’an sanatti faffaca’e.

34 Yehuun ol seenee waa nyaatee dhuge. Innis, “Dubartii abaaramtuu kana
fuudhaatii awwaalaa; isheen intala mootii turteetii” jedhe. 35 Isaan garuu yeroo ishee
awwaaluuf gad ba’anitti buqqee mataa ishee, harkaa fi miilla ishee malee waan tokko
illee hin argine. 36 Isaanis deebi’anii Yehuutti himan; innis akkana jedhe; “Kun dubbii
WAAQAYYO karaa garbicha isaa Eeliyaas namicha Tishbii sanaatiin akkana jedhee
dubbatee dha: Lafa qotiisaa Yizri’eel keessaa tokko irratti saroonni foon Iizaabel
ni nyaatu. 37 Reeffi Iizaabelis akka namni tokko iyyuu, ‘Kun Iizaabel’ jechuu hin
dandeenyeef lafa qotiisaa Yizri’eel keessaa tokko irratti akkuma kosii ta’a.”

# 10

### *Maatiin Ahaab Ajjeefaman*

1 Yeroo sanatti Ahaab ilmaan torbaatama Samaariyaa keessaa qaba ture. Kanaafuu
Yehuun xalayoota barreessee qondaaltota Yizri’eelitti, maanguddootattii fi gud-
diftoota ilmaan Ahaabitti gara Samaariyaatti erge. Inni akkana jedhe; 2 “Akkuma
xalayaan kun isin ga’een, waan ilmaan gooftaa keessanii isin bira jiranii fi
waan isinis gaariiwwanii fi fardeen, magaalaa jabeeffamee ijaaramee fi mi’a lolaa
qabdaniif, 3 ilmaan gooftaa keessanii keessaa kan warra kaan caaluu fi kan ni mala
jettanii yaaddan filadhaatii teessoo abbaa isaa irra teessisaa. Ergasiis mana abbaa
keessaniitiif lolaa.”

4 Isaan garuu akka malee sodaatanii, “Yoo mootonni lama isa hin danda’in nu
akkamiin isa dandeenya?” waliin jedhan.

5 Kanaafuu bulchaan masaraa mootummaatii fi shuumiin magaalattii, maangud-
doonnii fi guddiftoonni, “Nu garboota kee ti; waan ati jettu hunda ni hojjenna. Nu
nama tokko illee mootii goonee hin filannu; ati mataan kee waanuma jaallatte godhi”
jedhanii ergaa kana Yehuutti ergan.
6 Yehuun immoo, “Isin yoo garee koo taatanii fi yoo naa ajajamtan, mataa ilmaan
gooftaa keessanii kukkutaatii bori yeroo kanatti Yizri’eelitti naa fidaa” jedhee xalayaa
lammaffaa barreesse.
Yeroo kanatti ilmaan mootii torbaatamanuu namoota magaalaa sanaa bebeekamoo
kanneen isaan guddisan bira turan. 7 Yommuu xalayaan sun isaan ga’etti namoonni
kunneen ilmaan mootii torbaatamman sana hundumaa ni gogorra’an. Mataa isaaniis
guubootti naqanii gara Yizri’eelitti Yehuudhaaf ni ergan. 8 Ergamtichi yommuu
deebi’etti, “Isaan mataa ilmaan mootii fidaniiru” jedhee Yehuutti hime.
Yehuun immoo, “Mee balbala ittiin magaalattii seenan duratti iddoo lamatti
tuulaatii hamma lafti bariitutti tursaa” jedhee ajaje.
9 Yehuun guyyaa itti aanu ganamaan ka’ee gad ba’e. Fuula namoota hundaa
dura dhaabatees akkana jedhe; “Isin yakka hin qabdan. Namni gooftaa kootti
malatee isa ajjeese anuma; garuu warra kana hunda eenyutu fixe? 10 Kanaafuu akka
dubbiin WAAQAYYO mana Ahaab irratti dubbate tokko iyyuu lafa hin buune beekaa.
WAAQAYYO waan karaa garbicha isaa Eeliyaasiin dubbate sana guuteera.” 11 Yehuunis
akkasiin nama mana Ahaab keessaa Yizri’eel keessatti hafe kam iyyuu, namoota isaa
gurguddaa, michoota isaa kanneen itti dhi’aatanii fi luboota isaa, utuu nama tokko
illee hin hambisin hunda isaanii fixe.
12 Yehuun ergasii ka’ee Samaariyaa dhaqe. Innis yommuu Beet Eekad ga’etti,
13 firoota Ahaaziyaa mootii Yihuudaa keessaa namoota tokko tokko argee, “Isin
eenyu?” jedhee gaafate.
Isaanis, “Nu firoota Ahaaziyaa; nu maatii mootichaatii fi ilmaan haadha mootichaa
dubbisuu dhufne” jedhanii deebisan.
14 Innis, “Utuma lubbuudhaan jiranuu isaan qabaa!” jedhee ajaje. Kanaafuu utuma
isaan lubbuun jiranuu qabanii boolla bishaanii Beet Eekad biratti afurtamii lamaan
isaanii gogorra’an. Inni isaan keessaa nama tokko illee hin hambifne.
15 Erga achii deemee immoo Yehoonaadaab ilma Rekaab utuu inni gara isaa
dhufuutti jiruu arge. Yehuunis isa dubbisee, “Akkuma ani gara kee jiru ati gara koo
jirta moo?” jedhee isa gaafate.
Yehoonaadaabis, “Ani gara kee jira” jedhee deebise.
Yehuunis, “Yoo akkas ta’e harka kee natti kenni” jedheen. Innis harka isaa itti
kenne. Yehuunis isa gargaaree gaariitti ol isa baase. 16 Yehuun, “Na wajjin kottuutii
hinaaffaa ani WAAQAYYOOF qabu ilaali” jedheen. Ergasiis gaarii isaatiin isa fudhatee
deeme.
17 Yehuun yommuu Samaariyaa ga’etti maatii Ahaab keessaa kanneen achitti
hafan hunda fixe; innis akkuma dubbii WAAQAYYO Eeliyaasitti dubbate sanaatti isaan
balleesse.

### *Tajaajiltoonni Ba’aal ajjeefaman*

18 Ergasii Yehuun saba hunda walitti waamee akkana jedheen; “Ahaab xinnuma
Ba’aalin tajaajile. Yehuun garuu guddisee isa tajaajila. 19 Kanaafuu amma raajota
Ba’aal hunda, tajaajiltoota isaa hundaa fi luboota isaa hunda walitti waamaa. Waan
ani qalma guddaa isaa Ba’aaliif dhi’eessuuf tokkoon isaanii iyyuu hin hafin. Namni
hafu kam iyyuu si’achi lubbuudhaan hin jiraatu.” Yehuun garuu tajaajiltoota Ba’aal
barbadeessuudhaaf sobee akkas jedhe.
20 Yehuun, “Ulfina Ba’aaliif jedhaatii yaa’ii waamaa” jedhe. Kanaafuu isaan ni
labsan. 21 Kana irratti inni Israa’el guutuu keessa ergaa ergee akkasiin tajaajiltoonni

Ba'aal hundinuu ni dhufan; tokkoon isaanii iyyuu hin hafne. Isaanis mana
waaqeffannaa Ba'aalitti ol galan; manni sunis gama tokkoo hamma gama kaaniitti
guutame. 22 Yehuunis namicha uffata eeguun, "Tajaajiltoota Ba'aal hundaaf uffata
fidi" jedhe. Kanaafuu namichi sun wayyaa fideef.
23 Yehuu fi Yehoonaadaab ilmi Rekaab sun mana waaqeffannaa Ba'aal ol seenan.
Yehuunis tajaajiltoota Ba'aaliin, "Mee asii fi achi ilaalaatii akka tajaajiltoota Ba'aal
malee tajaajiltoonni WAAQAYYOO tokko iyyuu isin wajjin as hin jirre hubadhaa" jedhe.
24 Kanaafuu isaan qalmaa fi aarsaa gubamu dhi'eessuuf ol galan. Yehuun yeroo
sanatti nama saddeettama ala dhaabee, "Namni warra ani harka keessanitti kennu
kanneen keessaa akka tokko iyyuu miliqu godhu kam iyyuu qooda lubbuu namicha
sanaa lubbuu isaa dhaba" jedhee akeekkachiisee ture.
25 Yehuun akkuma aarsaa gubamu sana dhi'eessee raawwateen, "Ol seenaatii isaan
fixaa; akka namni tokko iyyuu miliqu hin godhinaa" jedhee eegdotaa fi ajajjoota sana
ajaje. Kanaafuu isaan goraadeedhaan warra sana cicciran. Eegdotaa fi ajajjoonni
sun reeffa isaanii alatti gad dadarbatanii kutaa mana waaqeffannaa Ba'aal kan gara
keessaatti ol galan. 26 Isaanis mana Ba'aal keessaa fakkiiwwan gad baasanii guban.
27 Isaan fakkii Ba'aal caccabsanii mana Ba'aalis diigan. Namoonnis hamma guyyaa
har'aatti lafa itti bobbaa ba'an godhatanii itti fayyadamu.
28 Akkasiin Yehuun Israa'el keessaa waaqeffannaa Ba'aal balleesse. 29 Ta'us inni
iyyuu cubbuu Yerobi'aam ilma Nebaat kan inni akka sabni Israa'el hojjetu godhe sana
irraa hin deebine; cubbuun kunis fakkii jabbii warqee irraa hojjetamee Beet'eelii fi
Daanitti waaqeffachuu isaanii ti.
30 WAAQAYYOS Yehuudhaan akkana jedhe; "Sababii ati waan fuula koo duratti
qajeelaa ta'e fiixaan baasuu keessatti waan gaarii hojjettee fi waan ani mana Ahaab
irratti hojjechuuf garaadhaa qabu hunda hojjetteef sanyiiwwan kee hamma dhaloota
afuraffaatti teessoo Israa'el irra ni taa'u." 31 Ta'us Yehuun seera WAAQAYYO Waaqa
Israa'el garaa guutuudhaan eeguuf of eeggannoo hin goone. Inni cubbuu Yerobi'aam
kan inni akka sabni Israa'el hojjetu godhe sana irraa hin deebine.
32 Bara sana keessa WAAQAYYO lafa Israa'el irraa kukkutee xinneessuu jalqabe.
Hazaa'eelis guutummaa bulchiinsa isaanii keessatti Israa'eloota mo'ate; 33 kunis
gama ba'a Yordaanosiin biyya Gili'aad hunda jechuunis biyya Gaad, biyya Ruubeenii
fi biyya Minaasee kan Aro'eer laga Arnoon biratti argamtu sanaa jalqabee Gili'aadii
hamma Baashaaniitti jiruu dha.
34 Wantoonni bara mootummaa Yehuu keessa hojjetaman biraa, wanni inni
hojjete hundii fi jabinni isaa hundi kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti
barreeffamaniiru mitii?
35 Yehuun abbootii isaa wajjin boqotee Samaariyaa keessatti ni awwaalame. Ilmi
isaa Yehoo'aahaaz iddoo isaa bu'ee mootii ta'e. 36 Yehuun Samaariyaa keessa taa'ee
waggaa digdamii saddeet Israa'elin bulche.

# 11

*Ataaliyaa fi Yoo'aash*
*11:1-21 kwf – 2Sn 22:10–23:21*

1 Ataaliyaan haati Ahaaziyaa yommuu akka ilmi ishee du'e argitetti kaatee maatii
mootii guutumaan guutuutti balleessite. 2 Yehooshebaati intalli Yooraam mootichaa
obboleettiin Ahaaziyaa sun garuu ilmaan mootota kanneen ajjeefamuuf turan
keessaa Yoo'aash ilma Ahaaziyaa hattee fudhatte. Isheenis Ataaliyaa jalaa isa
dhoksuuf jettee isaa fi guddiftuu isaa kutaa hirribaa keessa teessifte. Kanaafuu inni
hin ajjeefamne. 3 Innis bara Ataaliyaan biyya bulchaa turte hunda guddiftuu isaa
wajjin mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti dhokfamee waggaa ja'a jiraate.

4 Yehooyaadaan waggaa torbaffaatti ajajjuuwwan dhibbaa, namoota Kaariittii fi
eegdotatti nama ergee akka isaan mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII gara isaa
dhufan godhe. Innis mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti isaan wajjin kakuu
seene. Ergasiis ilma mootii isaanitti argisiise. 5 Akkana jedhees isaan ajaje; "Wanni
isin gochuu qabdan isa kana: Isin warri garee sadii keessa jirtan kanneen guyyaa
Sanbataatiin hojiitti bobbaatan harka sadii keessaa harki tokko mana mootii, 6 harka
sadii keessaa harkii tokko Karra Suur, harka sadii keessaa harkii tokko immoo karra
eegdota dabaree dabareedhaan mana qulqullummaa eegan dugda duubaan jiru haa
eegu; 7 isin warri garee lamaan kaan keessa jirtan kanneen guyyaa Sanbataatiin hojii
irraa boqottan hundinuu immoo mana qulqullummaa mootiidhaaf eeguu qabdu.
8 Tokkoon tokkoon keessan mi'a lolaa harkatti qabadhaatii mootichatti naanna'aa
dhadhaabadhaa. Namni naannoo isin jirtanitti dhi'aatu kam iyyuu haa ajjeefamu.
Lafa inni dhaqu hundatti mootichatti dhi'oo jiraadhaa."

9 Ajajjuuwwan dhibbaa sunis akkuma Yehooyaadaan lubichi ajaje sana ni
godhan. Tokkoon tokkoon isaaniis namoota isaanii warra guyyaa Sanbataatiin
hojiitti bobba'anii fi warra hojii irraa boqotan fudhatanii Yehooyaadaa lubicha bira
dhufan. 10 Innis eeboowwanii fi gaachanawwan Daawit Mootichaa kanneen mana
qulqullummaa WAAQAYYOO keessa turan ajajjoota sanaaf ni kenne. 11 Eegdonni sunis,
tokkoon tokkoon isaanii mi'a lolaa harkatti qabatanii karaa kibbaatii fi karaa kaaba
mana qulqullummaatiin iddoo aarsaatii fi mana qulqullummaa biratti mootichatti
naanna'anii ni dhadhaabatan.

12 Yehooyaadaanis ilma mootichaa fidee mataa isaa irra gonfoo kaa'e; inni
garagalcha kakuu itti kennee, "Inni mootii dha" jedhee labse. Isaanis isa diban; harka
dha'aniis, "Mootichi bara baraan haa jiraatu!" jedhanii iyyan.

13 Ataaliyaan yommuu waca eegdotaatii fi namootaa dhageessetti gara namoota
sanaa mana qulqullummaa WAAQAYYOO dhaqxe. 14 Yeroo isheen ilaaltetti mootichi
akkuma baratame sanatti utubaa bira dhaabatee ture. Qondaaltonnii fi warri
malakata afuufan mooticha bira turan; namoonni biyya sanaa hundinuus gam-
madanii malakata afuufaa turan. Kana irratti Ataaliyaan uffata ishee tarsaaftee, "Kun
maltummaa dha! Kun maltummaa dha!" jettee iyyite.

15 Yehooyaadaan lubichis, "Hiriira gidduudhaa baasaatii ishee fidaa; nama ishee
irra dhufu kam iyyuu goraadeedhaan ajjeesaa" jedhee ajajjuuwwan dhibbaa kanneen
kutaawwan loltootaa sana irratti ramadaman ajaje. Lubichi, "Isheen mana qulqul-
lummaa WAAQAYYOO keessatti ajjeefamuu hin qabdu" jedhee tureetii. 16 Kanaafuu
isaan akkuma isheen balbala fardeen ittiin masaraa mootii seenan geesseen ishee
qabanii achumatti ishee ni ajjeesan.

17 Ergasiis Yehooyaadaan akka isaan saba WAAQAYYOO ta'aniif jedhee WAAQAYYOO
fi mootii fi saba gidduutti kakuu dhaabe. Akkasumas mootichaa fi saba gidduutti
kakuu ni dhaabe. 18 Sabni biyyattii hundinuu gara galma Ba'aal dhaqee diige. Isaanis
iddoowwan aarsaatii fi waaqota tolfamoo caccabsanii hurreessanii Mataan lubicha
Ba'aal sana illee iddoowwan aarsaa duratti ni ajjeesan.

Ergasii Yehooyaadaan lubichi mana qulqullummaa WAAQAYYOTTI eegdota ni
ramade. 19 Innis ajajjuuwwan dhibbaa, warra Kaarii, eegdotaa fi namoota
biyyattii hunda fudhatee dhaqee isaan wajjinis mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII
mooticha gad baasanii fidanii karaa karra eegdotaatiin masaraa mootummaa seenan.
Mootichis teessoo mootii irra taa'e. 20 Saboonni biyyattii hundi ni ililchan. Sababii
Ataaliyaan masaraa mootummaa keessatti goraadeedhaan ajjeefamteef magaalaan
sun nagaa argatte.

21 Yoo'aash yeroo mootii ta'ee bulchuu jalqabetti nama umuriin isaa waggaa torbaa
ture.

# 12

*Yoo'aash Mana Qulqullummaa Haaromse*
*12:1-21 kwf – 2Sn 24:1-14; 24:23-27*

1 Bara mootummaa Yehuu keessa waggaa torbaffaatti Yoo'aash mootii ta'e; inni
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa afurtama bulche. Maqaan haadha isaa Saabiyaa
ture; isheenis nama Bersheebaa turte. 2 Yoo'aashis bara Yehooyaadaan lubichi isa
gorsaa ture hunda waan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e hojjechaa ture. 3 Ta'us
iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hin diigamne ture; namoonnis ittuma
fufanii aarsaa dhi'eessaa, ixaanas achitti aarsaa turan.
4 Yoo'aashis lubootaan akkana jedhe; "Maallaqa kennaa qulqulluu godhamee mana
qulqullummaa Waaqayyootti fidame hunda jechuunis maallaqa yeroo uummanni
lakkaa'ametti walitti qabame, maallaqa wareega namootaa irraa walitti qabamee
fi maallaqa namoonni fedhiidhaan mana qulqullummaatti fidan walitti qabaa.
5 Tokkoon tokkoon lubaa qabduu horii irraa maallaqa haa fuudhu; maallaqni kunis
waan mana qulqullummaa keessaa caccabe kam iyyuu deebisanii haaromsuudhaaf
hojii irra haa oolu."
6 Garuu bara Yoo'aash Mootichaa keessa waggaa digdamii sadaffaatti luboonni sun
amma illee mana qulqullummaa sana hin haaromsine ture. 7 Kanaafuu Yoo'aash
mootichi Yehooyaadaa lubichaa fi luboota kaan walitti waamee, "Isin maaliif kutaa
mana qulqullummaa kan diigamaa jiru sana deebiftanii hin haaromsine? Isin
si'achi maallaqa namoota irraa guurtan of harka hin tursinaa; garuu akka manni
qulqullummaa ittiin haaromfamuuf dabarsaa kennaa." 8 Luboonni sunis akka
lammata maallaqa waldaa irraa walitti hin qabnee fi akka mana qulqullummaa sana
illee ofii isaaniitiin hin haaromsine walii galan.
9 Yehooyaadaan lubichi sanduuqa tokko fuudhee qadaada isaa ure. Sanduuqa sanas
karra namni ittiin mana qulqullummaa Waaqayyoo seenuun karaa mirgaatiin iddoo
aarsaa bira kaa'e. Luboonni balbala sana eeganis maallaqa mana qulqullummaa
Waaqayyootiif fidamu hunda sanduuqa sana keessa buusu ture. 10 Yommuu
sanduuqni sun guututtis barreessaan mootiitii fi lubni ol aanaan dhufanii maallaqa
mana qulqullummaa Waaqayyootti galfame sana lakkaa'anii korojootti naqan.
11 Erga baay'inni maallaqa sanaa beekamee booddee isaan warra hojii mana
qulqullummaa sana to'achuuf filatamanitti kennan. Jarris namoota hojii mana
qulqullummaa Waaqayyoo irratti bobba'an jechuunis warra muka soofanii fi warra
mana ijaaraniif, 12 warra dhagaadhaan ijaaranii fi warra dhagaa cabsaniif kaffalan.
Akkasumas mana qulqullummaa Waaqayyoo haaromsuudhaaf jedhanii mukaa fi
dhagaa soofame bitanii baasii ittiin mana qulqullummaa haaromsan hunda baasan.
13 Maallaqni mana qulqullummaatti fidame sun mi'a meetii irraa hojjetame kan
akka caabii, waan ittiin ibsaa irraa daaraa dhadha'an, waciitii ittiin waa faffacaasan,
malakata yookaan mi'a warqee yookaan meetii irraa mana qulqullummaa Waaqayy-
ootiif hojjetaman biraa kamiin iyyuu tolchuuf hojii irra hin oolle; 14 maallaqni
sunis namoota mana qulqullummaa sana haaromsaniif baafame. 15 Isaan sababii
jarri amanamummaa guutuudhaan waan kana hojjetaniif namoota akka isaan warra
mana qulqullummaa haaromsaniif kaffalaniif maallaqni itti kenname sana irraa
herrega to'achuu hin barbaanne. 16 Maallaqni aarsaa yakkaatii fi aarsaa cubbuutiif
galfame tokko iyyuu mana qulqullummaa Waaqayyootti hin fidamne; kun qooda
lubootaatii.
17 Yeruma kana keessa Hazaa'eel mootiin Sooriyaa Gaatitti ol ba'ee lolee ishee
qabate. Ergasii immoo Yerusaaleminis loluuf itti gara gale. 18 Yoo'aash mootichi Yihu-
udaa garuu mi'oota abbootiin isaa mootonni Yihuudaa Yehooshaafaax, Yehooraamii
fi Ahaaziyaan Waaqaaf addaan baasanii fi kan inni mataan isaa Waaqaaf addaan

baase, warqee kuusaa qabeenya mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi kan masaraa
mootummaa hunda walitti qabee Hazaa'eel mooticha Sooriyaatiif kenne; Hazaa'eelis
ergasii Yerusaalemii ba'ee deeme.
19 Wantoonni bara mootummaa Yoo'aash keessa hojjetaman kanneen biraatii
fi wanni inni hojjete hundinuu kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti bar-
reeffamaniiru mitii? 20 Qondaaltonni isaa isatti malatanii karaa Siilaatti gad bu'u
irratti Beet Miilootti isa ajjeesan. 21 Qondaaltonni isa ajjeesanis Yozaakaar ilma
Shime'aatii fi Yehoozaabaad ilma Shoomeer turan. Innis du'ee abbootii isaa biratti
Magaalaa Daawit keessatti awwaalame. Amasiyaa ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii
ta'e.

# 13

### *Yehoo'aahaaz Mooticha Israa'el*

1 Bara mootummaa Yoo'aash ilma Ahaaziyaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa
digdamii sadaffaatti Yehoo'aahaaz ilmi Yehuu Samaariyaa keessatti mootii Israa'el
ta'ee waggaa kudha torba bulche. 2 Inni cubbuu Yerobi'aam ilma Nebaat kan inni
akka sabni Israa'el hojjetu godhe sana duukaa bu'uudhaan fuula WAAQAYYOO duratti
waan hamaa hojjete; cubbuu sana irraas hin deebine. 3 Kanaafuu dheekkamsi
WAAQAYYOO Waaqaa Israa'elitti ni boba'e; innis yeroo dheeraadhaaf dabarsee harka
Hazaa'eel mooticha Sooriyaattii fi harka ilma isaa Ben-Hadaadiitti isaan kenne.
4 Yehoo'aahaaz fuula WAAQAYYOO barbaaddate; WAAQAYYOS akka mootiin Sooriyaa
sun akka malee Israa'elin cunqurse argee kadhaa isaa dhaga'eef. 5 WAAQAYYOS nama
isaan baraaru tokko Israa'eliif kenne; akkasiin isaan harka warra Sooriyaa jalaa ni
ba'an. Kanaafuu Israa'eloonni akkuma duraatti dunkaana isaanii keessa jiraatan.
6 Isaan garuu cubbuu mana Yerobi'aam kan inni akka Israa'el hojjetu godhe sana
irraa hin deebine; ittuma fufanii keessa jiraatan. Siidaan Aasheeraas Samaariyaa
keessa dhaabatee hafe.
7 Loltoota Yehoo'aahaaz keessaa loltoota fardaa shantama, gaariiwwan kudhanii fi
loltoota lafoo kuma kudhan malee tokko iyyuu hin hafne; mootiin Sooriyaa warra
kaan hunda balleessee akkuma awwaara yeroo midhaan dha'anii isaan godhee
tureetii.
8 Wanni bara mootummaa Yehoo'aahaaz keessa hojjetame biraa, wanni inni hojjete
hundii fi jabinni isaa kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffameera mitii?
9 Yehoo'aahaaz abbootii isaa wajjin boqotee Samaariyaa keessatti ni awwaalame.
Yoo'aash ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

### *Yoo'aash Mooticha Israa'el*

10 Bara Yoo'aash mooticha Yihuudaa keessa waggaa soddomii torbaffaatti Yoo'aash
ilmi Yehoo'aahaaz Samaariyaa keessatti mootii Israa'el ta'ee waggaa kudha ja'a isaan
bulche. 11 Inni fuula WAAQAYYOO duratti cubbuu hojjetee cubbuu Yerobi'aam ilma
Nebaat kan inni akka sabni Israa'el hojjetu godhe sana keessaa tokko irraa iyyuu hin
deebine; innis ittuma fufee cubbuu keessa jiraate.
12 Wantoonni bara mootummaa Yoo'aash keessa hojjetaman biraa, wanni inni
hojjete hundii fi jabinni isaa, waraanni inni Amasiyaa mooticha Yihuudaa ir-
ratti deemsises kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffamaniiru mitii?
13 Yoo'aash abbootii isaa wajjin boqotee Yerobi'aam iddoo isaa bu'ee teessoo irra
taa'e. Yoo'aash Samaariyaa keessatti mootota Israa'el biratti ni awwaalame.
14 Yeroo kanatti Elsaa'i dhukkuba du'aan isa ga'uun dhiphachaa ture. Yoo'aash
mootichi Israa'el isa ilaaluu gad bu'ee isatti boo'e. Innis, "Yaa abbaa koo! Yaa abbaa
koo! Yaa gaariiwwanii fi yaa abbootii fardaa Israa'el!" jedhee iyye.

15 Elsaa'i, "Iddaa fi xiyya wayii fudhadhu" jedheen; innis ni fudhate. 16 Elsaa'i
immoo mooticha Israa'eliin, "Iddaa harkatti qabadhu" jedhe; inni fuunaan Elsaa'i
harka ofii isaa fuudhee harka mootichaa irra kaa'e.
17 Elsaa'i, "Foddaa karaa ba'a biiftuu bani" jedheen; innis ni bane. Elsaa'i, "Xiyya
darbadhu!" jedhe; mootichis ni darbate. Elsaa'is, "Xiyya mo'annoo WAAQAYYOO,
xiyya warra Sooriyaa mo'atu!" jedhe. Elsaa'is, "Ati Afeeqitti warra Sooriyaa
guutumaan guutuutti ni barbadeessita" jedhee labse.
18 Innis ergasii, "Xiyya fudhadhu" jedheen; mootichis ni fudhate. Elsaa'is "Lafa
rukuti" jedheen; mootichis yeroo sadii lafa rukute. 19 Namni Waaqaa sunis isatti
aaree akkana jedhe; "Ati yeroo shan yookaan ja'a lafa rukutuu qabda; silaa warra
Sooriyaa mo'attee guutumaan guutuutti isaan balleessita turte. Amma garuu yeroo
sadii qofa isaan mo'atta."
20 Elsaa'i du'ee awwaalame.
Yeroo sana Mo'aabonni saamtonni birraa birraa dhufanii biyyattii saamu ture.
21 Gaaf tokko warri Israa'el utuu namicha du'e tokko awwaaluutti jiranuu garee
saamtotaa tokko argan; kanaafuu reeffa namichaa awwaala Elsaa'itti darbatan.
Reeffi sun lafee Elsaa'i tuqnaan namichi sun du'aa ka'ee miiluma ofii isaatiin
dhaabate.
22 Hazaa'eel mootichi Sooriyaa bara mootummaa Yehoo'aahaaz guutuu Israa'elin
cunqurse. 23 WAAQAYYO garuu sababii kakuu Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqoob wajjin
galee ture sanaatiif jedhee isaanii arjoome; garaas isaaniif laafee fuula isaa gara
isaaniitti deebifate. Hamma har'aattis fuula ofii isaa duraa isaan barbadeessuu
yookaan gatuu hin feene.
24 Hazaa'eel mootichi Sooriyaa du'ee Ben-Hadaad ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii
ta'e. 25 Yoo'aash ilmi Yehoo'aahaaz magaalaawwan inni waraana keessatti abbaa isaa
Yehoo'aahaaz irraa fudhatee ture hunda Ben-Hadaad ilma Hazaa'eel irraa deebisee
fudhate. Yahoo'asis yeroo sadii isa mo'atee akkasiin magaalaawwan Israa'el deebise.

# 14

*Amasiyaa Mooticha Yihuudaa*
*14:1-7 kwf – 2Sn 25:1-4,11-12*
*14:8-22 kwf – 2Sn 25:17–26:2*

1 Bara mootummaa Yoo'aash ilma Yoo'aahaaz mooticha Israa'el keessa waggaa
lammaffaatti Amasiyaa ilmi Iyoo'as mootii Yihuudaa ta'ee bulchuu jalqabe. 2 Inni
yeroo mootii ta'etti nama waggaa digdamii shan ture; innis Yerusaalem keessa taa'ee
waggaa digdamii sagal ni bulche. Maqaan haadha isaa Yo'aadaan ture; isheenis nama
Yerusaalem turte. 3 Innis waan fuula WAAQAYYOO duratti qajeelaa ta'e ni hojjete.
Garuu akka abbaa isaa Daawititti miti. Inni waan hunda keessatti fakkeenya abbaa
isaa Yoo'aash duukaa bu'e. 4 Ta'us iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hin
diigamne ture; namoonni ittuma fufanii aarsaa dhi'eessaa, ixaanas achitti aarsaa
turan.
5 Inni erga jabeessee harka isaatti mootummaa qabatee booddee qondaaltota
abbaa isaa mooticha ajjeesan sana fixe. 6 Ta'us inni akka waan Kitaaba Seera
Musee keessatti barreeffame kan WAAQAYYO, "Abbootiin sababii ijoollee isaaniitiif
ajjeefamuu hin qaban yookaan ijoolleen sababii abbootii isaaniitiif ajjeefamuu hin
qaban; tokkoon tokkoon namaa sababii cubbuu ofii isaatiif du'a" jedhee ajaje sanaatti
ilmaan warra nama ajjeesan sanaa hin fixne.
7 Namni Sulula Soogiddaa keessatti Edoomota kuma kudhan mo'atee waraanaan
Seelaa qabate kan maqaa isheen hamma har'aatti ittiin waamamtu, Yoqti'eel jedhee
moggaases isuma.

8 Amasiyaanis, “Kottu mee waraana keessatti wal ilaallaa” jedhee qoosee gara Yoo’aash ilma Yehoo’aahaaz, ilma Yehuu, mooticha Israa’elitti ergamoota erge.

9 Yoo’aash mootichi Israa’el garuu akkana jedhee Amasiyaa mooticha Yihuudaatiif deebii kenne; “Sokorruun Libaanoon keessaa tokko ergaa ergee birbirsaa Libaanooniin, ‘Intala kee ilma kootti heerumsiisi’ jedhe. Ergasii bineensi bosona
Libaanoon keessaa tokko dhufee sokorruu sana irra miilaan deeme. 10 Ati
dhugumaan Edoomin mo’attee amma of tuulaa jirta. Mo’annoo keetiin gammadi; amma garuu mana kee taa’i! Ati maaliif rakkina barbaaddee ofii keetii fi Yihuudaattis kufaatii fidda?”

11 Amasiyaa garuu dhaga’uu dide; kanaafuu Yoo’aash mootichi Israa’el ka’ee lola
bane. Innii fi Amasiyaa mootichi Yihuudaa keessatti Beet Shemeshitti walitti ba’an.
12 Warri Yihuudaas warra Israa’eliin mo’atamanii tokkoon tokkoon namaas gara
mana ofii isaatti baqate. 13 Yoo’aash mootichi Israa’el, Amasiyaa mooticha Yihuudaa
ilma Iyoo’as ilma Ahaaziyaa sana Beet Shemeshitti qabe. Iyoo’asis gara Yerusaalem dhaqee Karra Efreemiitii jalqabee hamma Karra Goleetti dallaa Yerusaalem kan dhagaa sana diige; kutaan diigame kun dhundhuma dhibba afur lafa irra dheerata
ture. 14 Innis warqee fi meetii hunda akkasumas mi’a mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti argamuu fi kan kuusaa qabeenya masaraa mootummaa keessaa jiru hunda fudhate; namoota booji’e illee fudhatee gara Samaariyaatti deebi’e.

15 Wantoonni bara mootummaa Yoo’aash keessa hojjetaman kanneen biraa, wanni inni hojjetee fi jabinni isaa, waraana inni Amasiyaa mooticha Yihuudaatiin loles dabalatee kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru mitii?
16 Yoo’aashis abbootii isaa wajjin boqotee mootota Israa’el biratti Samaariyaa keessatti awwaalame. Ilmi isaa Yerobi’aam iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

17 Amasiyaa ilmi Yoo’aash mootichi Yihuudaa erga Yoo’aash ilmi Yehoo’aahaaz
mootichi Israa’el du’ee booddee waggaa kudha shan jiraate. 18 Wantoonni bara
mootummaa Amasiyaa keessa hojjetaman kanneen biraa kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru mitii?

19 Isaan Yerusaalem keessatti isatti malatan; innis gara Laakkiishitti baqate; isaan
immoo faanuma isaa Laakkiishitti namoota erganii achitti isa ajjeesan. 20 Reeffi isaas
fardatti fe’amee dhufee abbootii isaa biratti Yerusaalem keessatti Magaalaa Daawititti awwaalame.

21 Ergasii warri Yihuudaa hundinuu Azaariyaa mucaa waggaa kudha ja’aa
fuudhanii iddoo abbaa Amasiyaa sana mootii godhatan. 22 Namni erga Amasiyaa
abbootii isaa wajjin boqotee booddee Eelaatin deebisee ijaaree warra Yihuudaatti kenne isa.

### *Yerobi’aam Lammaffaa Mooticha Israa’el*

23 Bara Amasiyaa ilma Yoo’aash mooticha Yihuudaa keessa waggaa kudha shanaffaatti Yerobi’aam ilmi Iyoo’as mooticha Israa’el Samaariyaa keessatti mootii ta’e;
innis waggaa afurtamii tokko bulche. 24 Inni fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete; cubbuu Yerobi’aam ilma Nebaat kan inni akka warri Israa’el hojjetan
godhe sana irraas hin deebine. 25 Namni akkuma dubbii WAAQAYYO Waaqa Israa’el
kan inni karaa garbicha isaa Yoonaas ilma Amitaayi, raajicha Gat Heeferii dhufee sanaatiin dubbateetti daarii biyya Israa’el Leeboo Hamaatii jalqabee hamma Galaana Arabbaatti iddootti deebise isa ture.

26 WAAQAYYO akka tokkoon tokkoon nama Israa’el keessa jiraatuu, garbas ta’u birmaduun akka malee rakkachaa jiru arge; namni isaan gargaaru tokko iyyuu hin
turre. 27 WAAQAYYOS waan maqaa Israa’el samii jalaa nan balleessa hin jedhiniif harka Yerobi’aam ilma Yoo’aashiitiin isaan baase.

28 Wantoonni bara mootummaa Yerobi’aam keessa hojjetaman biraa, wanni inni hojjete hundi, jabinni loltummaa isaa, akka inni itti Damaasqoo fi Hamaati kanneen

duraan Yihuudaa jala turan sana Israa’eliif deebisee dabalatee kitaaba seenaa
mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru mitii? 29 Yerobi’aam abbootii isaa
mootota Israa’el wajjin boqote; ilmi isaa Zakkaariyaas iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

# 15

*Azaariyaa Mooticha Yihuudaa*
*15:1-7 kwf – 2Sn 26:3-4,21-23*

1 Bara mootummaa Yerobi’aam mooticha Israa’el keessa waggaa digdamii torbaf-
faatti, Azaariyaa ilmi Amasiyaa mooticha Yihuudaa sanaa mootii ta’e. 2 Inni yeroo
mootii ta’etti nama waggaa kudha ja’a ture; innis Yerusaalem keessa taa’ee waggaa
shantamii lama ni bulche. Maqaan haadha isaa Yekooliyaa ture; isheenis nama
Yerusaalem turte. 3 Innis akkuma abbaa isaa Amasiyaa sana fuula WAAQAYYOO duratti
waan qajeelaa ni hojjete. 4 Ta’us iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hin
diigamne ture; namoonni ittuma fufanii aarsaa dhi’eessaa, ixaanas achitti aarsaa
turan.
5 WAAQAYYOS hamma gaafa inni du’eetti mooticha lamxiidhaan dha’e; innis
mana kophaa keessa ni jiraate. Yootaam ilmi moootichaa itti gaafatama masaraa
mootummaa fudhatee saba biyyattii bulche.
6 Wantoonni bara mootummaa Azaariyaa keessa hojjetaman kan biraatii fi wanni
inni hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru mitii?
7 Azaariyaa abbootii isaa wajjin boqotee isaanuma biratti Magaalaa Daawit keessatti
ni awwaalame. Ilmi isaa Yootaam iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

*Zakkaariyaas Mooticha Israa’el*

8 Bara mootummaa Azaariyaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa soddomii sad-
deettaffaatti Zakkaariyaas ilmi Yerobi’aam Samaariyaa keessatti mootii Israa’el ta’ee
ji’a ja’a bulche. 9 Innis akkuma abbaan isaa hojjete sana fuula WAAQAYYOO duratti
waan hamaa hojjete. Inni cubbuu Yerobi’aam ilma Nebaat kan inni akka warri
Israa’el hojjetan godhe sana irraa hin deebine.
10 Shaluum ilmi Yaabeesh sun Zakkaariyaasitti ka’ee fuuluma sabaa duratti isa
ajjeesee iddoo isaa qabatee mootii ta’e. 11 Wantoonni bara mootummaa Zakkaariyaas
keessa hojjetaman kanneen biraa kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti bar-
reeffamaniiru mitii? 12 Akkasiinis dubbiin WAAQAYYOO kan inni “Sanyiiwwan kee
hamma dhaloota Afuraffaatti teessoo Israa’el irra ni taa’u” jedhee Yehuutti dubbate
sun ni raawwatame.

*Shaluum Mooticha Israa’el*

13 Shaluum ilmi Yaabeesh bara mootummaa Uziyaan mooticha Yihuudaa keessa
waggaa soddomii saglaffaatti Samaariyaa keessatti mootii Israa’el ta’ee ji’a tokko
bulche. 14 Menaaheem ilmi Gaadiis Tiirzaadhaa ka’ee Samaariyaa dhaqe. Innis
Shaluum ilma Yaabeesh sana lolee Samaariyaa keessatti ajjeesee iddoo isaa bu’ee
mootii ta’e.
15 Wantoonni bara mootummaa Shaluum keessa hojjetaman biraatii fi fincilli inni
hojjete kitaaba seenaa mootota Israa’el keessatti barreeffamaniiru.
16 Yeroo sanatti, Menaaheem Tiirzaa ka’ee Tiifsaa fi warra magaalaa sana keessaa
fi naannoo ishee jiraatu hunda dha’e; kunis sababii isaan karra banuufii didaniif.
Innis Tiifsaa saamee dubartoota ulfa qaban hunda garaa baqaqse.

*Menaaheem Mooticha Israa’el*

17 Bara Azaariyaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa soddomii saglaffaatti Menaa-
heem ilmi Gaadii mootii Israa’el ta’e; innis Samaariyaa keessa jiraatee waggaa
kudhan bulche. 18 Innis fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. Bara biyya

bulchaa ture guutuus cubbuu Yerobi'aam ilma Nebaat kan inni akka Israa'el hojjetu
godhe sana irraa hin deebine.
19 Ergasiis Phuuli mootichi Asoor biyyattiitti ni duule; Menaaheem immoo akka
gargaarsa isaa argate aangoo ofii isaa jalatti mootummaa turfatuuf meetii taalaantii
kuma tokko kenneef. 20 Menaaheem maallaqa kana warruma Israa'el baasise. Akka
mootii Asooriif kennamuuf namni sooressi kam iyyuu meetii saqilii shantama baasuu
qaba. Kanaafuu mootiin Asoor duubatti deebi'ee malee ergasii biyyattii keessa hin
turre.
21 Wanni bara mootummaa Menaaheem keessa hojjetame kan biraa, wanni inni
hojjete hundis kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffameera mitii?
22 Menaaheemis abbootii isaa wajjin boqote. Ilmi isaa Pheqaayaan iddoo isaa bu'ee
mootii ta'e.

### *Pheqaayaan Mooticha Israa'el*

23 Bara Azaariyaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa shantammaffaatti Phe-
qaayaan ilmi Menaaheem Samaariyaa keessatti mootii Israa'el ta'ee waggaa lama
bulche. 24 Pheqaayaan fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. Inni cubbuu
Yerobi'aam ilma Nebaat kan inni akka Israa'el hojjetu godhe sana irraa hin deebine.
25 Ajajjoota isaa ol aantota keessaa Pheqaan ilmi Remaaliyaa isatti malate. Innis
namoota Gili'aad keessaa nama shantama fudhatee fiixee masaraa mootummaa kan
Samaariyaa keessaa irratti Pheqaayaa, Argobbii fi Ariyyee ajjeese. Pheqaanis akkasiin
Pheqaayaa ajjeesee iddoo isaa mootii ta'e.
26 Wanni bara mootummaa Pheqaayaa keessa hojjetame kan biraatii fi wanni inni
hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffameera mitii?

### *Pheqaa Mooticha Israa'el*

27 Bara Azaariyaa mooticha Yihuudaa keessaa waggaa shantamii lammaffaatti,
Pheqaan ilmi Remaaliyaa Samaariyaa keessatti mootii Israa'el ta'ee waggaa digdama
bulche. 28 Innis fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. Cubbuu Yerobi'aam
ilma Nebaat kan inni akka Israa'el hojjetu godhe sana irraa hin deebine.
29 Bara Pheqaa mooticha Israa'el keessa Tiiglaat Phileeser mootichi Asoor dhufee
Iiyoon, Abeel Beet Ma'aakaa, Yaano'aa, Qaadeshii fi Haazoor, Gili'aadii fi Galiilaa,
biyya Niftaalem hundas walumatti qabatee namootas guuree Asooritti geesse.
30 Ergasiis Hooshee'aa ilmi Eelaa, Pheqaa ilma Remaaliyaatti malate. Innis lolee isa
ajjeesee bara mootummaa Yootaam ilma Uziyaan keessaa waggaa digdammaffaatti
iddoo isaa mootii ta'e.
31 Wanni bara mootummaa Pheqaa keessa hojjetame biraa fi wanni inni hojjete
hundi kitaaba seenaa mootota Israa'el keessatti barreeffameera mitii?

### *Yootaam Mooticha Yihuudaa*
*15:33-38 kwf – 2Sn 27:1-4,7-9*

32 Bara Pheqaa ilma Remaaliyaa mooticha Israa'el keessa waggaa lammaffaatti
Yootaam ilmi Uziyaan mooticha Yihuudaa mootii ta'ee bulchuu jalqabe. 33 Inni yeroo
mootii ta'etti nama waggaa digdamii shan ture; Yerusaalem keessa taa'ee waggaa
kudha ja'a ni bulche. Maqaan haadha isaa Yaruusaa ture; isheenis intala Zaadoq
turte. 34 Innis akkuma abbaan isaa Uziyaan godhe sana fuula WAAQAYYOO duratti
waan qajeelaa ni hojjete. 35 Ta'us iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hin
diigamne ture. Namoonnis ittuma fufanii aarsaa dhi'eessaa ixaanas achitti aarsaa
turan. Yootaam Karra mana qulqullummaa WAAQAYYOO kan Ol aanu deebisee ijaare.
36 Wantoonni bara mootummaa Yootaam keessaa hojjetaman kanneen biraatii fi
wantoonni inni hojjete kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffameera
mitii? 37 Bara sana keessa WAAQAYYO Reziin mooticha Sooriyaatii fi Pheqaa ilma
Remaaliyaa Yihuudaatti kakaasuu jalqabe. 38 Yootaam abbootii isaa wajjin boqotee

Magaalaa Daawit, magaalaa abbaa isaa keessatti isaanuma biratti ni awwaalame. Ilmi isaa Aahaaz iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 16

### *Aahaaz Mooticha Yihuudaa*
*16:1-20 kwf – 2Sn 28:1-27*

1 Bara mootummaa Pheqaa ilma Remaaliyaa keessa waggaa kudha torbaffaatti
Aahaaz ilmi Yootaam mooticha Yihuudaa mootii ta'ee bulchuu jalqabe. 2 Aahaaz
yeroo mootii ta'etti nama waggaa digdamaa ture; innis Yerusaalem keessa taa'ee
waggaa kudha ja'a ni bulche. Inni akka abbaa isaa akka Daawit fuula WAAQAYYOO
Waaqa isaa duratti waan qajeelaa hin hojjenne. 3 Inni karaa moototа Israa'el duukaa
bu'ee gochawwan jibbisiisoo saboota WAAQAYYO fuula Israa'elootaa duraa ari'ee
baase sanaa hojjechuudhaan ilma isaa illee aarsaa godhee ibiddaan gube. 4 Innis
iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraatti, fiixee gaarranii irrattii fi muka lalisaa
hunda jalatti qalma dhi'eessee, ixaanas aarse.
5 Reziin mootichi Sooriyaatii fi Pheqaan ilmi Remaaliyaa mootichi Israa'el
Yerusaalemin loluuf ol ba'anii Aahaazin marsan; garuu isa mo'achuu hin dandeenye.
6 Yeroo sanatti Reziin mootichi Sooriyaa namoota Yihuudaa ari'ee baasuudhaan
Eelaatin warra Sooriyaatiif deebise. Ergasiis Edoomonni Eelaatitti godaananii hamma
har'aatti achuma jiraatu.
7 Aahaazis akkana jedhee gara Tiiglaat Phileeser mooticha Asooritti nama erge;
"Ani garbichaa fi ilma kee ti. Kottuutii harka mootii Sooriyaatii fi harka mootii
Israa'el kanneen natti duulaniitii na baasi." 8 Kana irratti Aahaaz meetii fi warqee
mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa jiruu fi kan mankuusaa qabeenya masaraa
mootummaa keessatti argamu baasee kennaa godhee mootii Asooritiif ni erge.
9 Mootiin Asoor sunis kadhaa isaa tole jedhee Damaasqoo lolee qabate. Jiraattota
ishees booji'ee Qiiritti geesse; Reziinin immoo ni ajjeese.
10 Aahaaz mootichi Tiiglaat Phileeser mooticha Asoor arguuf Damaasqoo dhaqe.
Innis iddoo aarsaa tokko Damaasqoo keessatti argee fakkeenya isaatii fi karoora
ittiin ijaaran hunda barreessee Uuriyaa lubichatti erge. 11 Kanaafuu Uuriyaa
lubichi akkuma karoora Aahaaz mootichi Damaasqoodhaa ergeef sana hundaatti
utuu Aahaaz mootichi Damaasqoodhaa hin deebi'in dura iddoo aarsaa sana ijaaree
fixe. 12 Mootichis yommuu Damaasqoodhaa deebi'ee iddoo aarsaa sana argetti itti
dhi'aatee irratti aarsaa dhi'eesse. 13 Innis aarsaa gubamuu fi kennaa midhaanii
dhi'eessee dhibaayyuu illee dhibaafatee dhiiga aarsaa nagaa kan ofii isaas iddoo
aarsaa sana irratti ni facaase. 14 Iddoo aarsaa naasii irraa hojjetamee fuula
WAAQAYYOO dura dhaabatee ture sanas mana qulqullummaa duraa iddoo aarsaa
haaraa fi mana qulqullummaa WAAQAYYOO gidduudhaa fidee gama kaabaatiin iddoo
aarsaa haaraa bira kaa'e.
15 Ergasii Aahaaz mootichi akkana jedhee Uuriyaa lubicha ajaje; "Iddoo aarsaa
guddicha irratti aarsaa gubamu kan ganamaatii fi kennaa midhaanii kan galgalaa,
aarsaa mootichaa kan gubamuu fi kennaa midhaanii, aarsaa namoota biyyattii
hundaa kan gubamu, kennaa isaanii kan midhaaniitii fi dhibaayyuu isaanii dhi'eessi.
Iddoo aarsaa irratti dhiiga aarsaa gubamuutii fi dhiiga qalmaa hunda facaasi. Iddoo
aarsaa kan naasii irraa hojjetame garuu anatu ittiin gorsa gaafata." 16 Uuriyaan
lubichis akkuma Aahaaz mootichi ajaje sana godhe.
17 Aahaaz mootichi baattuuwwan asii fi achi sochoofaman sana irraa marsaawwan
buqqisee caabiiwwan dhiqannaa illee irraa baase. Gaanii sana baattuuwwan fakkii
jibootaa kanneen naasii irraa hojjetaman irraa fuudhee dhagaa afamaa irra kaa'e.
18 Innis mootii Asooriif jedhee oobdii guyyaa Sanbataatiif hojjetame iddoo isaatii

fuudhee karra alaa kan mootonni ittiin mana qulqullummaa WAAQAYYOO seenanis ni buqqise.

[19] Wanni bara mootummaa Aahaaz keessa hojjetame biraatii fi wanni inni hojjete
kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffameera mitii? [20] Aahaazis ab-
bootii isaa wajjin boqotee isaanuma biratti Magaalaa Daawit keessatti ni awwaalame.
Ilmi isaa Hisqiyaas iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 17

*Hoose'aa Mooticha Israa'el Kan Dhumaa*
*17:3-7 kwf – 2Mt 18:9-12*

[1] Bara Aahaaz mooticha Yihuudaa keessa waggaa kudha lammaffaatti Hooshee'aa
ilmi Eelaa Samaariyaa keessatti mootii Israa'el ta'ee waggaa sagal bulche. [2] Innis
fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete; garuu akka mootota Israa'el kanneen
isaan dura turan sanaa miti.
[3] Shalmaneseer mootichi Asoor Hooshee'aa loluuf ol ba'e; Hoose'aas garboomeefii
gibira baaseef. [4] Mootiin Asoor garuu akka Hooshee'aa gantuu ta'e hubate;
Hoose'aa Siigoor mooticha Gibxitti jaarsa araaraa ergatee ergasii akka duraan
wagguma waggaan baasaa ture sana mootii Asooriif gibira baasuu dhiise. Kanaafuu
Silminaasoor isa qabee mana hidhaa keessa buuse. [5] Ergasiis mootichi Asoor
guutummaa biyyattii weerare; Samaariyaattis duulee waggaa sadii marsee ishee
qabate. [6] Bara mootummaa Hooshee'aa keessa waggaa saglaffaatti mootiin Asoor
Samaariyaa qabatee Israa'eloota booji'ee Asooritti geesse. Innis Halaa keessa,
Goozaan keessa, cina Laga Haaboorii fi magaalaawwan Midiyaan keessa isaan
qubachiise.

*Sabni Israa'el Sababii Cubbuutiif Booji'ame*

[7] Wanni kun hundinuu sababii Israa'eloonni WAAQAYYO Waaqa isaanii isa Gibxii
humna Fara'oon mooticha Gibxi jalaa isaan baase sanatti cubbuu hojjetaniif ta'e;
isaan waaqota biraa waaqeffatanii [8] waan saboonni WAAQAYYO isaan duraa ari'ee
baase sun hojjetan duukaa bu'anii barteewwan hamaa mootonni Israa'el fidanii
isaan barsiisan illee fudhatan. [9] Israa'eloonni dhoksaadhaan waan qajeelaa hin ta'in
WAAQAYYO Waaqa isaaniitti hojjetan. Isaan magaalaawwan isaanii hunda keessatti
gamoo eegumsaatii jalqabanii hamma magaalaawwan dallaa jabaa qabaniitti id-
doowwan sagadaa kanneen gaarran irraa ijaarratan. [10] Gaarran ol dhedheeroo
hunda gubbaattii fi muka lalisaa hunda jalatti fakkiiwwanii fi siidaa Aasheeraa
dhaabbatan. [11] Isaan akkuma saboonni WAAQAYYO fuula isaanii duraa ari'ee baase
godhan sana iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hunda irratti ixaana aarsan.
Waan hamaa aariidhaaf WAAQAYYOON kakaasu illee ni hojjetan. [12] WAAQAYYOS,
"Isin waan kana hin hojjetinaa" jedhu illee isaan waaqota tolfamoo waaqeffatan.
[13] WAAQAYYO akkana jedhee karaa raajotaatii fi ilaaltota isaa hundaatiin Israa'elii
fi Yihuudaa akeekkachiise; "Karaa keessan hamaa kana irraa deebi'aa. Akkuma
ajajawwan ani abbootii keessan ajaje hundaattii fi akkuma seera ani karaa garboota
koo raajotaatiin isiniif erge sanaatti ajajaa fi seera koo eegaa."

[14] Isaan immoo dhaggeeffachuu didanii akkuma abbootii isaanii kanneen
WAAQAYYO Waaqa isaanii amanuu didan sanaa mataa jabaatan. [15] Isaan seeraa
fi kakuu inni abbootii isaanii wajjin gale akkasumas akeekkachiisa inni isaaniif
kenne illee fudhachuu didan. Isaan waaqota tolfamoo faayidaa hin qabne duukaa
bu'anii isaanis faayidaa dhaban. Isaan utuma WAAQAYYO, "Waan jarri hojjetan hin
hojjetinaa" jedhee isaan ajajuu saboota ollaa isaanii duukaa bu'anii waan WAAQAYYO
hojjechuu isaan dhowwe ni hojjetan.

16 Isaan ajaja WAAQAYYO Waaqa isaanii hunda dhiisanii waaqota tolfamoo baqfamanii bifa jabbiitiin hojjetaman lamaa fi siidaa Aasheeraa tolfatan. Raayyaawwan samii hundaaf sagadanii Ba'aalin illee waaqeffatan. 17 Ilmaan
isaaniitii fi intallan isaanii aarsaa godhanii ibiddaan guban. Warra waa himu gorsa gaafatan; falfalas hojjetanii fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjechuutti dabarsanii of kennanii dheekkamsaaf isa kakaasan.
18 Kanaafuu WAAQAYYO akka malee Israa'elitti dheekkamee fuula isaa duraa isaan
buqqise. Gosa Yihuudaa qofatu hafe; 19 Yihuudaan iyyuu ajaja WAAQAYYO Waaqa
isaanii hin eegne. Isaanis bartee Israa'eloonni itti fidan duukaa bu'an; 20 kanaafuu
WAAQAYYO saba Israa'el hunda ni gate; inni isaan miidhee hamma fuula isaa duraa isaan dhabamsiisutti dabarsee harka saamtotaatti isaan kenne.
21 Gaafa inni mana Daawit irraa Israa'el baqaqsetti isaan Yerobi'aam ilma Nebaat sana mootii godhatan. Yerobi'aamis akka Israa'eloonni WAAQAYYO irraa garagalanii
cubbuu guddaa hojjetan godhe. 22 Israa'eloonni cubbuu Yerobi'aam hunda keessa
jiraatan malee 23 hamma WAAQAYYO akkuma karaa garboota isaa raajotaatiin akeekkachiise sanatti fuula isaa duraa isaan buqqisutti irraa hin deebine. Kanaafuu sabni Israa'el biyya isaatii boojuudhaan fudhatamee Asooritti geeffame; hamma har'aattis achuma jiraata.

### *Asooronni Samaariyaa Keessa Qubatan*

24 Mootiin Asoor biyya Baabilonii, Kuutaadhaa, Awaadhaa, biyya Hamaatii fi Seefarwaayimii namoota fidee iddoo Israa'elootaa buusuuf jedhee magaalaawwan Samaariyaa keessa qubachiise. Isaanis Samaariyaa fudhatanii magaalaawwan
ishee keessa ni jiraatan. 25 Isaan yeroo achi jiraachuu jalqabanitti WAAQAYYOON
hin waaqeffanne; kanaafuu inni gidduu isaaniitti leencota erge; leenconnis isaan
keessaa namoota muraasa galaafatan. 26 Mooticha Asoorittis akkana jedhanii himan; "Namoonni ati boojitee magaalaawwan Samaariyaa keessa qubachiifte sun waan Waaqni biyya sanaa fedhu hin beekan. Inni gidduu isaaniitti leencota erge; leenconnis sababii namoonni waan Waaqni sun fedhu hin beekiniif isaan fixan."
27 Kana irratti mootiin Asoor, "Luboota boojitanii Samaariyaadhaa fiddan keessaa tokko akka inni deebi'ee achi jiraatee waan Waaqni biyya sanaa fedhu namoota
barsiisuuf achi deebisaa" jedhee ajaja kenne. 28 Kanaafuu luboota Samaariyaadhaa booji'aman keessaa tokko Beet'eel keessa jiraatee akka isaan itti WAAQAYYOON waaqeffatan barsiisuu dhufe.
29 Ta'us tokkoon tokkoon gosaa magaalaa keessa jiraatutti waaqota ofii isaa tolfatee iddoowwan sagadaa kanneen warri Samaariyaa gaarran irratti hojjetanii turan sana
irra dhaabe. 30 Warri Baabilonii dhufan Waaqa tolfamaa Sukooti Banooti, warri Kuutaadhaa dhufan Waaqa tolfamaa Nergaal, warri Hamaatii dhufan immoo Waaqa
tolfamaa Ashiimaa jedhamu ni tolfatan. 31 Awwiimonni waaqota tolfamoo Nibhaazii fi Tartaaq jedhaman tolfatan; Seefarwaayimoonni immoo waaqota tolfamoo Seefarwaayim kanneen Adramelekii fi Anaamelek jedhamaniif ijoollee isaanii aarsaa
godhanii ibiddaan guban. 32 Isaan WAAQAYYOON waaqeffatan; garuu akka isaan iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraatti luboota ta'anii tajaajilaniif ofuma
gidduudhaa namoota ni filatan. 33 Isaan WAAQAYYOON waaqeffatan; garuu akkuma bartee saboota keessaa fidaman sanaatti waaqota ofii isaanii tajaajilan.
34 Isaan hamma har'aatti illee ittuma cichanii bartee isaanii kan qaraa sana keessa jiraatu. Isaan WAAQAYYOON hin waaqeffatan yookaan labsii fi qajeelfama, seeraa fi ajaja WAAQAYYO sanyiiwwan Yaaqoob kan Israa'el jedhee moggaase sanaaf kennes
duukaa hin bu'an. 35 WAAQAYYO gaafa Israa'eloota wajjin kakuu galetti akkana jedhee isaan ajaje: "Isin Waaqa biraa tokko illee hin waaqeffatinaa yookaan hin sagadinaafii;
isaan hin tajaajilinaa yookaan aarsaa isaaniif hin dhi'eessinaa. 36 Garuu WAAQAYYO

isin waaqeffachuu qabdan, isa humna jabaa fi irree diriirfameen Gibxii baasee isin
fide sanaa dha. Isin isaaf sagaddanii aarsaa dhi'eessuufii qabdu. 37 Isin yeroo hunda
labsii fi qajeelfama, seeraa fi ajaja inni isinii barreesse sana of eeggannaadhaan eeguu
qabdu. Waaqota biraa hin waaqeffatinaa. 38 Kakuu ani isin wajjin gale sana hin
irraanfatinaa; waaqota biraa hin waaqeffatinaa. 39 Qooda kanaa WAAQAYYO Waaqa
keessan waaqeffadhaa; kan harka diina keessan hundaa keessaa isin baasu isumaa."
40 Ta'us isaan ittuma cichanii waanuma qaraa sana hojjetan malee isa hin
dhageenye. 41 Yeroo namoonni kunneen WAAQAYYOON waaqeffachaa jiranitti illee
isaan waaqota tolfamoo isaanii tajaajilaa turan. Hamma guyyaa har'aatti illee
ijoolleen isaaniitii fi ijoolleen ijoollee isaanii ittuma fufanii akkuma abbootiin isaanii
hojjetan sana hojjechaa jiru.

# 18

*Hisqiyaas Mooticha Yihuudaa*
*18:2-4 kwf – 2Sn 29:1-2; 31:1*
*18:5-7 kwf – 2Sn 31:20-21*
*18:9-12 kwf – 2Mt 17:3-7*

1 Bara Hooshee'aa ilma Eelaa mooticha Israa'el keessa waggaa sadaffaatti Hisqiyaas
ilmi Aahaaz mooticha Yihuudaa mootii ta'ee bulchuu jalqabe. 2 Inni Yeroo mootii
ta'etti nama waggaa digdamii shan ture; innis Yerusaalem keessa taa'ee waggaa
digdamii sagal bulche. Maqaan haadha isaa Abiiyaa ture; isheenis intala Za-
kkaariyaas. 3 Innis akkuma Daawit abbaan isaa godhe sana fuula WAAQAYYOO duratti
waan qajeelaa hojjete. 4 Inni iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa diige;
dhagaawwan waaqeffannaa caccabsee siidaawwan Aasheeraa illee burkuteesse.
Sababii Israa'eloonni hamma bara sanaatti ixaana aarsaafii turaniif inni fakkii bofaa
kan Museen naasii irraa hojjete sana illee ni caccabse. Fakkiin bofaa sun Nehushtaan
jedhamee waamama ture.
5 Hisqiyaas WAAQAYYO Waaqa Israa'el amanate. Mootota Yihuudaa hunda keessaa
namni akka isaa tokko iyyuu isa duraan yookaan isa duubaan hin turre. 6 Inni
jabaatee WAAQAYYOTTI hiiqe malee isa duukaa bu'uu hin dhiisne; seera WAAQAYYO
Museef kenne sanas ni eege. 7 WAAQAYYOS isa wajjin ture; inni waan hojjete hunda
keessatti ni milkaa'e. Inni mootii Asooritti fincile malee isa hin tajaajille. 8 Inni gamoo
eegumsaatii jalqabee hamma magaalaa dallaa jabaa qabuutti, hamma Gaazaattii fi
daangaa isheetti Filisxeemota ni mo'ate.
9 Waggaa afuraffaa bara Hisqiyaas mootichaa keessa jechuunis waggaa torbaffaa
bara Hooshee'aa ilma Eelaa mooticha Israa'el keessa Shalmaneseer mootichi Asoor
Samaariyaatti duulee marsee ishee qabate. 10 Dhuma waggaa sadaffaatti Asooronni
ishee fudhatan. Akkasiinis Samaariyaan waggaa ja'affaa bara mootummaa Hisqiyaas
keessa, waggaa saglaffaa bara Hooshee'aa mooticha Israa'el keessa ni fudhatamte.
11 Mootiin Asooris Israa'eloota booji'ee Asooritti geessee Halaa keessa, Goozaan
keessa, Laga Haaboor biraa fi magaalaawwan Midiyaan keessa ni qubachiise.
12 Wanni kun sababii isaan WAAQAYYO Waaqa isaaniitiif ajajamuu didanii kakuu isaa,
ajaja Museen garbichi WAAQAYYOO isaaniif kenne hunda cabsaniif isaanitti dhufe.
Isaan ajaja sana hin dhaggeeffanne yookaan hojii irra hin oolchine.
13 Bara mootummaa Hisqiyaas mootichaa keessa waggaa kudha afuraffaatti,
Senaaheriib mootichi Asoor magaalaawwan Yihuudaa kanneen dallaa jabaa qaban
hunda lolee ni qabate. 14 Kanaafuu Hisqiyaas mootichi Yihuudaa, "Ani balleessaa
hojjedheera. Biyya koo keessaa naa ba'i; ani waan ati na gaafattu kam iyyuu
siifin kennaa" jedhee gara Laakkiishitti mooticha Asooritti ergaa ergate. Mootichi
Asooris, "Meetii taalaantii dhibba sadii fi warqee taalaantii soddoma naa kenni"

jedhee Hisqiyaas mooticha Yihuudaa ni gaafate. 15 Kanaafuu Hisqiyaas meetii
mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessattii fi kan mankuusaa masaraa mootummaa
keessatti argamu hunda guuree kenneef.
16 Yeroo kanatti Hisqiyaas mootichi Yihuudaa warqee balbalaa fi dhaaba balbala
mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI uffisee ture irraa baasee mootii Asooriif kenne.

*Senaaheriib Yerusaalemin Doorsise*
*18:13,17-37 kwf – Isa 36:1-22*
*18:17-35 kwf – 2Sn 32:9-19*

17 Ergasii Mootichi Asoor ajajaa waraanaa isaa ol aanaa, ajajaa hangafaa fi
ajajaa waraana isaa loltoota hedduu wajjin Laakkiishii gara Yerusaalemitti Hisqiyaas
mootichatti ni erge. Isaanis Yerusaalem dhufanii bo'oo haroo ol aanuu bira karaa
lafa qotiisaa namicha wayyaa miicuutti geessu irra dhadhaababatan. 18 Isaan mooticha
ni waamsifatan; Eliiyaaqiim ilmi Hilqiyaa bulchaan masaraa mootummaa, Shebnaa
barreessaanii fi Yoo'aa ilmi Asaaf galmeessaan isaanitti gad ba'an.
19 Ajajaan waraanaa sunis akkana isaaniin jedhe; "Akkana jedhaa Hisqiyaasitti
himaa:
" 'Mootiin guddaan, mootichi Asoor akkana jedha: Of amanachuu kee kana maal
irratti hundeeffatte? 20 Ati, "Ani tooftaa fi jabina waraanaa qaba" jetta; garuu
dubbii faayidaa hin qabne dubbatta. Ati eenyun abdattee natti fincilta? 21 Kunoo
ati Gibxin jechuunis ulee shambaqqoo caccabaa harka nama isatti irkatu kamii
iyyuu waraanee madeessu sana abdatteerta! Fara'oon mootichi Gibxis nama isa
abdatu hundaaf akkasuma. 22 Yoo isin, "Nu WAAQAYYO Waaqa keenya abdanna"
naan jettan, inni isuma Hisqiyaas iddoowwan sagadaa isaatii fi iddoowwan aarsaa
isaa diigee Yihuudaa fi Yerusaalemiin, "Isin fuula iddoo aarsaa kan Yerusaalem
keessaa kana duratti waaqeffachuu qabdu" jedhe sana mitii?
23 " 'Amma kottuutii gooftaa koo mooticha Asoor wajjin dubbadhu; anis yoo
ati namoota farda yaabbatan qopheeffachuu dandeesse fardeen kuma lama siifin
kenna! 24 Ati yoo gaariiwwanii fi abbootii fardaatiif jettee Gibxin abdatte iyyuu
akkamiin qondaaltota gooftaa kootii keessaa ajajaa gad aanaa isaa illee of irraa
deebisuu dandeessa? 25 Ati waan ani dubbii WAAQAYYOO malee iddoo kana lolee
barbadeessuuf dhufe seetaa? WAAQAYYO mataan isaa akka ani biyya kanatti duulee
ishee barbadeessu natti dubbateera.' "
26 Kana irratti Eliiyaaqiim ilma Hilqiyaa, Shebnaa fi Yoo'aa ajajaa waraanaa
sanaan, "Maaloo waan nu dhageenyuuf afaan warra Araamaayikiitiin garboota keetti
dubbadhu. Utuma namoonni dallaa irra jiran dhaga'anii afaan Ibrootaatiin nutti hin
dubbatin" jedhan.
27 Ajajaan waraanaa sun garuu akkana jedhee deebise; "Namni gooftaan koo akka
ani waan kana itti himuuf itti na erge gooftaa keessanii fi isin qofaa? Namoota dallaa
irra tataa'an warra akkuma keessan udaan ofii isaanii nyaatanii fincaan ofii isaanii
dhuguu qabaniifis mitii?"
28 Ergasii ajajaan waraanaa sun ol ka'ee afaan Ibrootaatiin akkana jedhe; "Dubbii
mooticha guddaa, dubbii mootii Asoor dhaga'aa! 29 Mootichi akkana jedha: Hisqiyaas
isin hin gowwoomsin. Inni harka kootii isin baasuu hin danda'u. 30 Hisqiyaas,
'WAAQAYYO dhugumaan nu baasa; magaalaan kunis dabarfamtee harka mooticha
Asooritti hin kennamtu' jechuudhaan akka isin WAAQAYYOON amanattaniif isin hin
sossobin.
31 "Hisqiyaasin hin dhaggeeffatinaa. Mootiin Asoor akkana jedha: Ana wajjin walii
galtee nagaa dhaabbadhaatii natti gad ba'aa. Ergasii tokkoon tokkoon keessan muka
wayiniitii fi muka harbuu keessan irraa ni nyaattu; boolla bishaan keessanii keessaas
ni dhugdu; 32 kunis hamma ani dhufee gara biyya akkuma biyya keessanii jirtuu, gara

biyya midhaanii fi daadhii wayinii haaraatti, gara biyya buddeenaa fi iddoo dhaabaa wayiniitti, gara biyya muka ejersaatii fi dammaatti isin geessutti ta'a. Isin jireenya filadhaa malee du'a hin filatinaa!
"Waan inni, 'WAAQAYYO nu baraara' jedhee isin dogoggorsuuf Hisqiyaasin hin
dhaga'inaa. 33 Waaqni saboota kamii iyyuu takkumaa harka mooticha Asoor keessaa
biyya ofii baafatee beekaa? 34 Waaqonni Hamaatii fi waaqonni Arfaad eessa jiru?
Waaqonni Seefarwaayim, waaqonni Heenaatii fi Iwaa eessa jiru? Isaan harka koo
keessaa Samaariyaa baasaniiruu? 35 Waaqota biyyoota kanneenii hunda keessaa
kamtu harka koo keessaa biyya isaa baasuu danda'e? Yoos WAAQAYYO akkamiin harka koo keessaa Yerusaalemin baasuu danda'a ree?"
36 Namoonni garuu sababii mootichi, "Deebii hin kenninaafii" jedhee ajajeef inuma cal'isan malee deebii tokko iyyuu hin kennine.
37 Kana irratti Eliiyaaqiim ilmi Hilqiyaa bulchaan masaraa mootummaa, Shebnaa barreessaanii fi Yoo'aa ilmi Asaaf galmeessaan uffata isaanii tatarsaasanii gara Hisqiyaas dhaqanii waan ajajaan waraanaa sun jedhe itti ni himan.

# 19

*Furamuun Yerusaalem Duraan Durfamee Himame*
*19:1-13 kwf – Isa 37:1-13*

1 Hisqiyaas mootichi yommuu waan kana dhaga'etti uffata isaa tarsaasee wayyaa
gaddaas uffatee mana qulqullummaa WAAQAYYOO seene. 2 Innis Eliiyaaqiim bulchaa
masaraa mootummaa, Shebnaa barreessaa fi luboota dura bu'oota hundi isaanii
wayyaa gaddaa uffatan Isaayyaas raajicha ilma Amoos sanatti erge. 3 Isaanis akkana
jedhanii isatti himan; "Hisqiyaas akkana jedha; Guyyaan kun akkuma yeroo daa'imni
tokko dhalachuu ga'ee garuu dubartiin humna ittiin ciniinsifattee deessu dhabduutti
guyyaa lubbamuu, kan dheekkamsaatii fi kan salphinaa ti. 4 WAAQAYYO Waaqni kee
dubbii ajajaa waraanaa kan gooftaan isaa mootichi Asoor akka inni Waaqa jiraataatti qoosuuf erge sanaa hunda dhaga'ee dubbii WAAQAYYO Waaqni kee dhaga'e sanaaf jedhee isatti dheekkama ta'a. Kanaafuu ati hambaawwan hamma ammaatti jiraniif kadhadhu."
5 Yommuu qondaaltonni Hisqiyaas mootichaa gara Isaayyaas dhufanitti, 6 Isaayyaas
akkana isaaniin jedhe; "Akkana jedhaa gooftaa keessanitti himaa; 'WAAQAYYO akkana
jedha: Ati waan dhageesse jechuunis dubbii garboonni mootii Asoor ittiin na
arrabsan sana hin sodaatin. 7 Dhaggeeffadhaa! Ani akka inni oduu wayii dhaga'ee
gara biyya ofii isaatti deebi'uuf hafuura tokko isa keessa nan kaa'a; achittis akka inni goraadeedhaan ajjeefamu nan godha.' "
8 Ajajaan waraanaas yommuu akka mootiin Asoor Laakkiishii ba'ee deeme dhaga'etti, duubatti deebi'ee utuu mootichi Libnaa lolaa jiruu argate.
9 Senaaheriibis akka Tiirhaaq mootichi Itoophiyaa sun isa loluuf dhufaa jiru
dhaga'e. Kanaafuu inni akkana jedhee amma illee Hisqiyaasitti ergamoota erge;
10 "Hisqiyaas mooticha Yihuudaatiin akkana jedhaa: Waaqni ati abdattu sun,
'Yerusaalem dabarfamtee harka mootii Asooritti hin kennamtu' jedhee si hin gow-
woomsin. 11 Ati waan mootonni Asoor guutumaan guutuutti isaan balleessuudhaan
biyyoota hunda godhan dhageesseerta. Ati immoo ni haftaa ree? 12 Waaqonni
saboota abbootiin koo barbadeessan sanaa jechuunis waaqonni Goozaan, waaqonni Kaaraan, waaqonni Rezefii fi waaqonni namoota Eden kanneen Telaasaar keessa
turan sanaa isaan oolchaniiruu? 13 Mootiin Hamaati, mootiin Arfaad, mootiin
magaalaa Seefarwaayim yookaan mootiin Heenaa yookaan mootiin Iwaa eessa jira?"

*Kadhaa Hisqiyaas*
*19:14-19 kwf – Isa 37:14-20*

[14] Hisqiyaasis ergamoota sana harkaa xalayaa fuudhee dubbifate. Ergasiis gara
mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ol ba'ee xalayaa sana fuula WAAQAYYOO duratti
diriirse. [15] Hisqiyaas akkana jedhee WAAQAYYOON kadhate; "Yaa WAAQAYYO, Waaqa
Israa'el, kan kiirubeel gidduu teessoo irra jirtu, si qofatu mootummoota lafaa hunda
irratti Waaqa. Ati samii fi lafa uumteerta. [16] Yaa WAAQAYYO, gurra kee as qabiitii
dhaga'i; yaa WAAQAYYO ija kees banadhuu ilaali; dubbii Senaaheriib kan inni Waaqa
jiraataa arrabsuuf erge kana dhaggeeffadhu.
[17] "Yaa WAAQAYYO mootonni Asoor saboota kanaa fi biyyoota isaanii balleessuun
dhugaa dha. [18] Isaan waaqota jaraa ibiddatti naqanii barbadeessaniiru; waaqonni
sun mukaa fi dhagaa harka namaatiin soofaman turan malee waaqota hin turreetii.
[19] Kanaafuu yaa WAAQAYYO Waaqa keenya, akka mootummoonni lafaa hundinuu yaa
WAAQAYYO, akka ati qofti Waaqa taate beekaniif harka isaatii nu baasi."

*Kufaatii Senaaheriib*
*19:20-37 kwf – Isa 37:21-38*
*19:35-37 kwf – 2Sn 32:20-21*

[20] Sana booddee Isaayyaas ilmi Amoos akkana jedhee Hisqiyaasitti ergaa erge:
"WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha: Ani kadhaa kee kan ati waa'ee Senaaheriib
mooticha Asoor kadhatte sana dhaga'eera. [21] Dubbiin WAAQAYYO isaan mormuud-
haan dubbate kunoo kanaa dha:
" 'Intalli Xiyoon Durbi Qulqullittiin
si tuffattee sitti qoosti.
Intalli Yerusaalem yeroo ati baqattutti
mataa ishee sitti raafti.
[22] Kan ati itti qoostee arrabsite sun eenyu?
Ati eenyutti sagalee kee ol fudhattee
of tuulummaadhaan ija ol qabatte?
Qulqullichuma Israa'el sanatti mitii!
[23] Ati karaa ergamoota keetiitiin
Gooftaatti qoosteerta.
Ati akkanas jetteerta;
"Ani gaariiwwan koo hedduudhaan
fiixee tulluuwwaniitti,
fiixee Libaanoon kan akka malee ol dheeratuttis ol ba'eera.
Ani birbirsawwan isaa kanneen akka malee dhedheeroo,
gaattiraawwan isaa filatamoo sanas ciccireera.
Ani iddoowwan isaa kanneen akka malee ol fagoo,
bosonoota isaa keessaa, mimmiidhagoo qaqqabeera.
[24] Ani biyya ormaatti boolla bishaanii qotadhee
achitti bishaan dhugeera.
Ani faana miilla kootiin
lageen biyya Gibxi hunda gogseera."

[25] " 'Ati waan kana hin dhageenyee?
Bara dheeraan dura anatu waan kana hojjete.
Ani bara durii keessa waan kana nan karoorfadhe;
amma immoo hojii irra oolfadheera;
kunis akka ati magaalaawwan
dallaa jabaa qaban diigdee tuullaa dhagaa geeddartuu dha.
[26] Namoonni isaanii humna dhabanii
abdii kutataniis qaana'an.
Isaan akkuma biqiltuu diidaa,

akkuma biqiltuu kichuu tokkoo,
akkuma marga mana gubbaatti biqilu
kan utuu hin guddatin gubatee ti.

27 “ ‘Ani garuu lafa ati jirtu,
yoom akka dhuftuu fi yoom akka deemtu,
akka ati akka malee natti aartu illee nan beeka.
28 Waan ati akka malee natti aartee guggubattee
of tuulummaan kee gurra koo ga’eef,
ani hokkoo koo funyaan kee keessa,
luugama koo afaan kee keessa kaa’een
akka ati karuma dhufte sana
deebitu sin godha.’
29 “Yaa Hisqiyaas kun mallattoo siif ta’a:
“Isin waggaa kana waan ofumaan biqilu,
waggaa lammaffaatti immoo waanuma isa irraa latu nyaattu.
Waggaa sadaffaatti garuu facaafadhaa galfadhaa;
muka wayiniis dhaabbadhaatii ija isaa nyaadhaa.
30 Ammas hambaan mootummaa Yihuudaa tokko
jalaan hidda baafatee gubbaan immoo ija naqata.
31 Yerusaalem keessaa hambaan tokko,
Tulluu Xiyooniitii immoo gareen warra badiisa jalaa ba’e tokkoo ni dhufa.
Hinaaffaan WAAQAYYOO Waan Hunda Danda’uu waan kana ni raawwata:

32 “Kanaafuu WAAQAYYO waa’ee mooticha Asoor akkana jedha:
“ ‘Inni magaalaa kana hin seenu
yookaan xiyya tokko illee asitti hin darbatu.
Inni gaachana qabatee fuula isaa duratti hin dhi’aatu
yookaan tuullaa biyyoo itti hin marsu.
33 Inni karuma dhufe sanaan ni deebi’a;
magaalaa kanas hin seenu,
jedha WAAQAYYO.
34 Anis sababii ofii kootii fi sababii garbicha koo Daawitiif jedhee,
magaalaa kana nan eega; nan oolchas.’ ”
35 Halkanuma sana ergamaan WAAQAYYOO gad ba’ee qubata warra Asoor keessatti
nama kuma dhibba tokkoo fi saddeettamii shan fixe. Yommuu namoonni guyyaa
itti aanu ganama bariin ka’anitti kunoo reeffi namaa lafa guutee ture! 36 Kanaafuu
Senaaheriib mootichi Asoor qubata sana keessaa ba’ee baqate; Nanawweetti
deebi’ees achi jiraate.
37 Gaaf tokko utuu inni mana sagadaa waaqa isaa Nisrook jedhamuu keessatti
waaqeffachaa jiruu ilmaan isaa Adramelekii fi Sharezer goraadeedhaan isa ajjeesanii
biyya Araaraatitti baqatan. Ilmi isaa Eesarhadoonis iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

# 20

*Dhukkuba Hisqiyaas*
*20:1-11 kwf – 2Sn 32:24-26; Isa 38:1-8*

1 Bara sana keessa Hisqiyaas dhukkubsatee du’uu ga’ee ture. Isaayyaas ilmi Amoos
raajichi gara isaa dhaqee, “WAAQAYYO akkana jedha; ‘Mana kee tottolfadhu; ati ni
duuta malee hin fayyituutii’ ” jedheen.

2 Hisqiyaasis fuula isaa gara keenyan manaatti garagalfatee akkana jedhee
Waaqayyoon kadhate; 3 “Yaa Waaqayyo, akka ani amanamummaa fi garaa tokkoon
fuula kee dura jiraadhee waan fuula kee duratti gaarii ta’es hojjedhe yaadadhu.”
Hisqiyaasis hiqqifatee ni boo’e.
4 Utuu Isaayyaas oobdii gara gidduu jiru sana keessaa hin ba’in dubbiin Waaqayyoo
akkana jedhee gara isaa dhufe; 5 “Deebi’ii dhaqiitii akkana jedhii Hisqiyaas
hoogganaa saba kootiitti himi; ‘Waaqayyo Waaqni abbaa kee Daawit akkana jedha:
Ani kadhannaa kee dhaga’eera; imimmaan kees argeera; ani sin fayyisa. Ati ammaa
jalqabdee guyyaa sadaffaatti gara mana qulqullummaa Waaqayyootti ol baata. 6 Ani
umurii kee irratti waggaa kudha shan siifan dabala. Ani si’ii fi magaalaa kana harka
mooticha Asooriitii nan baasa. Ani sababii kootii fi sababii garbicha koo Daawitiif
jedhee magaalaa kana nan eega.’ ”
7 Kana irratti Isaayyaas, “Maxinoo harbuu tolchaa” jedhe. Isaanis qopheessanii
dhullaa isaa irra kaa’aniif; innis ni fayye.
8 Hisqiyaasis, “Akka Waaqayyo na fayyisuu fi akka ani guyyaa sadaffaatti gara mana
qulqullummaa Waaqayyootti ol ba’uuf maaltu mallattoo ta’a?” jedhee Isaayyaasin
gaafate.
9 Isaayyaasis akkana jedhee deebise; “Akka Waaqayyo waan waadaa gale sana
hojjetuuf mallattoon Waaqayyo siif kennu kunoo kanaa dha; gaaddidduun tokko
tarkaanfii kudhan gara fuula duraatti haa deemuu moo yookaan tarkaanfii kudhan
gara dugda duubaatti haa deebi’uu?”
10 Hisqiyaas immoo, “Tarkaanfii kudhan gara fuula duraatti deemuun gaaddidduu
tokkoof waan salphaa dha; qooda kanaa akka gaaddidduun sun tarkaanfii kudhan
gara dugda duubaatti deebi’u godhi” jedhe.
11 Kana irratti Isaayyaas raajichi iyyee Waaqayyoon ni kadhate; Waaqayyos akka
gaaddidduun sun tarkaanfii kudhan gulantaa Aahaaz irra gara fuula duraatti deemee
ture sana irraa tarkaanfii kudhan gara dugda duubaatti deebi’u godhe.

### *Ergamoota Baabilon Dhufan*
*20:12-19 kwf – Isa 39:1-8*
*20:20-21 kwf – 2Sn 32:32-33*

12 Yeroo sanatti Meroodak Baladaan ilmi Baladaan mootiin Baabilon sababii
akka Hisqiyaas dhukkubsate dhaga’eef xalayootaa fi kennaa ergeef. 13 Hisqiyaasis
ergamoota sana simatee waan mankuusa isaa keessa ture hunda jechuunis meetii,
warqee, urgooftuu fi zayitii qulqulluu akkasumas kuusaa mi’a lolaa isaa fi waan
mankuusa isaa keessatti argamu hunda isaanitti argisiise. Wanni Hisqiyaas masaraa
mootummaa isaa keessaa yookaan mootummaa isaa hunda keessaa isaanitti hin
argisiisin tokko iyyuu hin turre.
14 Kana irratti Isaayyaas raajichi gara Hisqiyaas mootichaa dhaqee, “Namoonni sun
maal jedhan? Isaan eessaa dhufan?” jedhee gaafate.
Hisqiyaasis, “Isaan Baabilonii biyya fagoodhaa dhufan” jedhee deebise.
15 Raajichi, “Jarri masaraa mootummaa keetii keessatti maal argan?” jedhee
gaafate.
Hisqiyaas immoo, “Isaan waan masaraa mootummaa koo keessa jiru hunda argan.
Wanni ani mankuusa koo keessaa isaanitti hin argisiisin tokko iyyuu hin jiru”
jedheen.
16 Isaayyaasis kana irratti Hisqiyaasiin akkana jedhe; “Dubbii Waaqayyoo dhaga’i:
17 Yeroon itti wanni masaraa mootummaa keetii keessa jiru hundii fi wanni abbootiin
kee hamma har’aatti kuusan hundinuu saamamee gara Baabilonitti geeffamu tokko
dhugumaan ni dhufa. Wanni tokko iyyuu hin hafu, jedha Waaqayyo. 18 Sanyii

kee keessaa namoonni tokko tokko, foonii fi dhiigni kee kanneen siif dhalatan
booji’amanii masaraa mootummaa mooticha Baabilon keessatti xu’aashiiwwan ta’u.”
19 Hisqiyaasis, “Dubbiin WAAQAYYOO kan ati dubbatte kun gaarii dha” jedhee
deebise. Inni, “Bara jireenya koo keessa nagaa fi tasgabbiin hin jiraatuu?” jedhee
yaadee tureetii.
20 Wantoonni bara mootummaa Hisqiyaas keessa hojjetaman kanneen biraa,
jabinni isaa hundii fi akki inni itti haroo fi ujummoo ittiin bishaan harkisanii gara
magaalaatti fidan hojjetes kitaaba seenaa moototа Yihuudaa keessatti barreeffamani-
iru mitii? 21 Hisqiyaasis abbootii isaa wajjin boqote. Ilmi isaa Minaaseen iddoo isaa
bu’ee mootii ta’e.

# 21

*Minaasee Mooticha Yihuudaa*
*21:1-10 kwf – 2Sn 33:1-10*
*21:17-18 kwf – 2Sn 33:18-20*

1 Minaaseen yeroo mootii ta’etti nama waggaa kudha lama ture; innis Yerusaalem
keessa taa’ee waggaa shantamii shan bulche. Maqaan haadha isaa Hefziibaa ture.
2 Innis waan jibbisiisaa saboota WAAQAYYO fuula Israa’elootaa duraa ari’ee baase
sanaa duukaa bu’uudhaan fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. 3 Inni
iddoowwan sagadaa kanneen abbaan isaa Hisqiyaas diigee ture sana illee deebisee ni
ijaare; akkasumas akkuma Ahaab mootichi Israa’el godhe sana Ba’aaliif iddoowwan
aarsaa tolchee siidaa Aasheeraas ni dhaabe. Raayyaawwan samii hundaafis ni
sagade; isaan waaqeffates. 4 Innis mana qulqullummaa WAAQAYYOO kan WAAQAYYO,
“Ani Maqaa koo Yerusaalem keessa nan dhaaba” jedhee waa’ee isaa dubbate sana
keessatti iddoowwan aarsaa tolche. 5 Oobdiiwwan mana qulqullummaa WAAQAYYOO
lamaanuu keessattis raayyaawwan samii hundaaf iddoowwan aarsaa ni tolche. 6 Inni
ilma ofii isaa ibiddaan aarsaa godhee dhi’eesse; tolcha hojjetee, milkii ilaallatee,
ilaaltotaa fi eker dubbistoota gorsa gaafate. Inni fuula WAAQAYYOO duratti hammina
guddaa ni hojjetee akkasiin dheekkamsaaf isa kakaase.
7 Innis fakkii Asheeraa kan soofee hojjete sana fuudhee mana qulqullummaa kan
WAAQAYYO akkana jedhee waa’ee isaa Daawitii fi ilma isaa Solomoonii dubbatee
ture sana keessa kaa’e; “Mana qulqullummaa kana keessaa fi Yerusaalem ishee
ani gosoota Israa’el hunda keessaa filadhe sana keessa Maqaa koo bara baraan
nan dhaaba. 8 Yoo isaan waan ani isaan ajaje hunda hojjetanii Seera garbichi
koo Museen isaaniif kenne guutuu eegan, ani si’achi akka miilli Israa’elootaa biyya
ani abbootii isaaniitiif kenne keessaa ba’ee jooru hin godhu.” 9 Namoonni garuu
hin dhaggeeffanne. Minaaseen karaa irraa isaan jal’ise; kanaafuu isaan saboota
WAAQAYYO fuula Israa’elootaa duraa balleesse sana caalaa hammina hojjetan.
10 WAAQAYYO karaa garboota isaa raajotaatiin akkana jedhee dubbate;
11 “Minaaseen mootichi Yihuudaa cubbuu jibbisiisaa kanneen hojjeteera. Innis
Amoorota isaan dura jiraatan caalaa waan hamaa hojjete; waaqota tolfamoo
isaatiinis Yihuudaa cubbuu hojjechiise. 12 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni Israa’el
akkana jedha: Ani waan hamaa nama isa dhaga’u hunda suukaneessu tokko
Yerusaalemii fi Yihuudaatti nan fida. 13 Ani funyoo Samaariyaatii fi tumbii mana
Ahaab sana Yerusaalem irratti nan diriirsa. Akkuma namni caabii haxaa’ee gad
gombisutti ani Yerusaalemin haxaa’ee nan gombisa. 14 Ani hambaa dhaala koo
dhiisee harka diinota isaaniitti dabarsee nan kenna. Isaanis diinota isaanii hundaan
ni saamamu; ni booji’amus. 15 Isaan gaafa abbootiin isaanii Gibxii ba’anii jalqabee
hamma har’aatti fuula koo duratti waan hamaa hojjechuudhaan dheekkamsaaf na
kakaasaniiruutii.”

16 Kana caalaas Minaaseen akka warri Yihuudaa fuula WAAQAYYOO duratti waan
hamaa hojjetan godhee cubbuu isaan hojjechiisuu isaa irra iyyuu dhiiga namoota
balleessaa hin qabnee baay’ee dhangalaasee akka Yerusaalem daangaa tokkoo
hamma daangaa kaaniitti dhiigaan guutamtu godheera.
17 Wantoonni bara mootummaa Minaasee keessa hojjetaman kanneen biraa, wanni
inni hojjete hundi, cubbuu inni hojjete dabalatee seenaa mootota Yihuudaa keessatti
barreeffamaniiru mitii?
18 Minaaseen abbootii isaa wajjin boqotee iddoo biqiltuu
masaraa mootummaa isaa keessatti, iddoo biqiltuu Uzaa keessatti ni awwaalame.
Ilmi isaa Aamoonis iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

### *Aamoon Mooticha Yihuudaa*
*21:19-24 kwf – 2Sn 33:21-25*

19 Aamoon yeroo mootii ta’etti umuriin isaa waggaa digdamii lama ture; innis
Yerusaalem keessa taa’ee waggaa lama bulche. Maqaan haadha isaa Meshulemet
ture; isheenis intala Haaruus nama biyya Yoxbaa turte.
20 Innis akkuma abbaan isaa
Minaaseen hojjetee ture sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete.
21 Innis
karaa abbaa isaa hunda irra deeme; waaqota tolfamoo abbaan isaa waaqeffate illee
waaqeffatee isaaniifis sagade.
22 Inni WAAQAYYO Waaqa abbootii isaa dhiise; karaa
WAAQAYYOO irras hin deemne.
23 Qondaaltonni Aamoon isatti mari’atanii masaruma mootummaa isaa keessatti
mooticha ni ajjeesan.
24 Kana irratti namoonni biyya sanaa warra Aamoon
mootichatti malatan hunda fixanii ilma isaa Yosiyaasin immoo iddoo isaa mootii
godhatan.
25 Wanni bara mootummaa Aamoon keessa hojjetame kan biraa, wanni inni hojjetes
kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffameera mitii?
26 Innis awwaala
isaa kan iddoo biqiltuu Uzaa keessatti ni awwaalame. Ilmi isaa Yosiyaasis iddoo isaa
bu’ee mootii ta’e.

## 22

### *Kitaabni Seeraa Argame*
*22:1-20 kwf – 2Sn 34:1-2,8-28*

1 Yosiyaas yeroo mootii ta’etti nama waggaa saddeetii ture; Yerusaalem keessa
taa’ees waggaa soddomii tokko bulche. Maqaan haadha isaa Yediidaa dha; isheenis
intala Adaayyaa nama biyya Boozqaatii ti.
2 Inni fuula WAAQAYYOO duratti waan
qajeelaa ni hojjete; utuu mirgatti yookaan bitaatti hin gorinis karaa abbaa isaa Daawit
irra deeme.
3 Yosiyaas mootichi bara mootummaa isaa keessa waggaa kudha saddeettaffaatti
akkana jedhee Shaafaan ilma Azaliyaa ilma Meshulaam barreessaa sana gara mana
qulqullummaa WAAQAYYOOTTI erge:
4 “Gara Hilqiyaa lubicha ol aanaatti ol ba’iitii
akka inni maallaqa gara mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI fidame kan warri
balbala eegan namoota irraa walitti qaban sana lakkaa’u godhi.
5 Maallaqni kunis
namoota akka hojii mana qulqullummaa to’ataniif muudamanitti imaanaa haa
kennamu. Namoonni kunneen immoo warra mana qulqullummaa WAAQAYYOO
haaromsaniif jechuunis,
6 warra muka soofaniif, warra mana ijaaranii fi warra
dhagaa soofaniif haa kaffalan. Akkasumas mana qulqullummaa haaromsuuf mukaa
fi dhagaa soofame ittiin haa bitan.
7 Isaan garuu sababii amanamummaadhaan
hojjetaniif, maallaqa imaanaa isaanitti kenname sana to’achuun hin barbaachisu.”
8 Hilqiyaa lubichi ol aanaan sunis, Shaafaan barreessaa sanaan, “Ani mana
qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti Kitaaba Seeraa argeen jira” jedhe. Ki-
taabichas Shaafaanitti kenne; Shaafaan immoo kitaaba sana ni dubbise.
9 Ergasiis
Shaafaan gara mootichaa dhaqee, “Qondaaltonni kee maallaqa mana qulqullummaa

WAAQAYYOO keessa ture baasanii hojjettootaa fi namoota hojii mana qulqullummaa
to'atanitti imaanaa kennaniiru" jedhee hime. 10 Shaafaan barreessaan sun, "Hilqiyaa
lubichi kitaaba tokko natti kenneera" jedhee mootichatti hime. Shaafaanis fuula
mootichaa duratti kitaaba sana dubbise.
11 Mootichis dubbii Kitaaba Seeraa sana dhageenyaan uffata isaa ni tarsaase.
12 Innis ajaja kana Hilqiyaa lubichatti, Ahiiqaam ilma Shaafaanitti, Akboor ilma
Miikaayaatti, Shaafaan barreessichaa fi Asaayaa tajaajilaa mootichaatti ni kenne;
13 "Dhaqaatii waa'ee waan kitaaba argame kana keessatti barreeffamee anaaf, sabaa
fi Yihuudaa hundaaf WAAQAYYOON gaafadhaa. Sababii warri nuun duraa dubbii
kitaabaa kanaatiif hin ajajaminiif dheekkamsi WAAQAYYOO guddaan nutti boba'eera;
isaan akka waan waa'ee keenya barreeffame sana hundaatti hin jiraanneetii."
14 Hilqiyaa lubichi, Ahiiqaam, Akboor, Shaafaanii fi Asaayaan Huldaanaa raajittii
gaafachuu dhaqan. Huldaanaan kun niitii Shaluum ilma Tiqwaa, ilma Harhaas kan
eegduu uffataa ture sanaa ti. Isheenis Yerusaalem keessa Aanaa Lammaffaa keessa
jiraatti turte.
15 Isheenis akkana isaaniin jette; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha:
Namicha natti isin erge sanatti akkana jedhaa himaa. 16 'WAAQAYYO akkana jedha:
Ani akkuma waan kitaaba mootichi Yihuudaa dubbise sana keessatti barreeffame
hundaatti iddoo kanaa fi saba isaatti badiisa nan fida. 17 Sababii isaan na
dhiisanii waaqota biraatiif ixaana aarsuudhaan waaqota tolfamoo harki isaanii
tolche hundaan dheekkamsaaf na kakaasaniif, dheekkamsi koo iddoo kana irratti ni
boba'a; hin dhaamus.' 18 Mootii Yihuudaa kan akka isin WAAQAYYOON gaafattaniif isin
erge sanatti akkana jedhaatii himaa; 'Waa'ee dubbii ati dhageesse sanaa, WAAQAYYO
Waaqni Israa'el akkana jedha; 19 "Sababii ati yeroo waan ani waa'ee iddoo kanaatii
fi waa'ee saba isaa akka isaan abaaramanii barbadeeffaman waan hamaa dubbadhe
dhageessetti garaan kee tuqamee fuula WAAQAYYOO duratti gad of qabdeef, sababii
uffata kee tarsaaftee fuula koo duratti boosseef, ani si dhaga'eera" jedha WAAQAYYO.
20 Kanaafuu ani abbootii kee biratti walittin si qaba; atis nagumaan awwaalamta.
Waan hamaa ani iddoo kana irratti fiduuf jiru hunda iji kee hin argu.' "
Isaanis deebii ishee fudhatanii gara mootichaatti deebi'an.

# 23

*Yosiyaas Kakuu Haaromsuu Isaa*
*23:1-3 kwf – 2Sn 34:29-32*
*23:4-20 kwi – 2Sn 34:3-7,33*
*23:21-23 kwf – 2Sn 35:1,18-19*
*23:28-30 kwf – 2Sn 35:20–36:1*

1 Ergasiis mootichi maanguddoota Yihuudaa fi Yerusaalem hunda walitti ni waame.
2 Innis namoota Yihuudaa, jiraattota Yerusaalem, lubootaa fi raajota wajjin jechuunis
nama xinnaa fi guddaa hunda wajjin gara mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ol
ba'e. Dubbii Kitaaba Kakuu kan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti argame
sanaa hundas akka isaan dhaga'anitti dubbiseef. 3 Mootichis utubaa bira dhaabatee
akka WAAQAYYOON duukaa bu'u, akka garaa isaa guutuu fi lubbuu isaa guutuudhaan
ajaja isaa, dambiiwwan isaatii fi labsiiwwan isaa eegee akkasiin dubbiiwwan kakuu
kanneen kitaaba kana keessatti barreeffaman hojii irra oolchu fuula WAAQAYYOO
duratti kakuu ni haaromse; ergasiis sabni hundi kakuu ni haaromse.
4 Mootichis akka isaan mi'oota Ba'aaliif, Asheeraadhaa fi raayyaawwan samiitiif
hojjetaman hunda mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessaa baasaniif Hilqiyaa
lubicha ol aanaa, luboota sadarkaan isatti aananii fi eegdota balbalaa ajaje. Innis
mi'oota sana Yerusaalem keessaa baasee dirree Sulula Qeedroon irratti gube; daaraa

isaas fuudhee Beet’eelitti geesse. [5] Luboota waaqota tolfamoo kanneen akka isaan
iddoowwan sagadaa kanneen magaalaawwan Yihuudaatii fi naannoo Yerusaalem
kanneen gaarran irraatiif ixaana aarsaniif mootonni Yihuudaa muudan sana
jechuunis warra Ba’aaliif, aduu fi ji’aaf, tuuta urjiitii fi raayyaawwan samii hundaaf
ixaana aarsaa turanis ni barbadeesse. [6] Siidaa Aasheeraas mana qulqullummaa
WAAQAYYOOTII fuudhee Yerusaalem keessaa baasee Sulula Qeedroonitti geessee achitti
ni gube. Isas daakee bulleessee daaraa isaa awwaala namootaa irratti firfirse.
[7] Innis mana dhiirota mana sagadaa keessatti sagaagalanii kan mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessa jiru, iddoo itti dubartoonni Asheeraadhaaf golgaa hojjetan sana
ni diige.

[8] Yosiyaasis luboota hunda magaalaawwan Yihuudaatii ni fide; innis iddoowwan
sagadaa kanneen Gebaadhaa hamma Bersheebaatti turan kanneen luboonni ixaana
itti aarsaa turan sana ni xureesse. Akkasumas galmawwan waaqeffannaa karrawwan
cinaa kanneen balbala Karra Iyyaasuu bulchaa magaalaa sanaa dura karaa gama
bitaa magaalattiin turan sana ni diige. [9] Luboonni iddoowwan sagadaa kunneen yoo
iddoo aarsaa WAAQAYYOO kan Yerusaalem keessaa irra tajaajiluu baatan illee isaan
luboota akka isaanii wajjin Maxinoo nyaatan ture.

[10] Innis akka namni tokko iyyuu ilma isaa yookaan intala isaa aarsaa godhee
ibiddaan Moolekiif hin dhi’eessineef Toofeti kan Sulula Ben Hinoom keessatti argamu
sana ni xureesse. [11] Akkasumas fardeen mootonni Yihuudaa aduudhaaf kennan
sana balbala mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI geessu irraa fuudhee ni balleesse.
Fardeen sun oobdii kutaa mana Naataan-Meelek qondaaltichaa biraa keessa turan.
Ergasiis Yosiyaas gaariiwwan aduu sana ibiddaan ni gube.

[12] Mootichis iddoowwan aarsaa mootonni Yihuudaa bantii manaa irra, kutaa
mana Aahaaz kan ol aanu bira dhaabanii fi iddoowwan aarsaa Minaaseen mana
qulqullummaa WAAQAYYOO keessa oobdiiwwan lamaan keessa dhaabe sana ni
buqqise. Iddoowwan aarsaa sanas achii fuudhee ni caccabsee, caccabaa isaanii Sulula
Qeedroon keessatti ni gate. [13] Akkasumas mootichi iddoowwan sagadaa kanneen
gama ba’a Yerusaalemitti karaa kibba Gaara Faalamuutiin turan kanneen Solomoon
mootichi Israa’el Ashtooreti waaqittii xurooftuu Siidoonotaa, Kemoosh waaqicha
xuraa’aa Mo’aabii fi Moolek waaqicha xuraa’aa ijoollee Amooniitiif hojjete sana ni
xureesse. [14] Yosiyaas soodduuwwan dhagaa caccabsee siidaawwan Aasheeraas diigee
iddoo sana lafee namaatiin guute.

[15] Akkasumas iddoo aarsaa Beet’eel keessa ture sanaa fi iddoo sagadaa kan
Yerobi’aam ilmi Nebaat inni Israa’elin cubbuu hojjechiise sun ijaare iddoo aarsaa
sanaa fi iddoo sagadaa ni diige. Iddoo sagadaa sanas caccabsee, daakee bulleesse;
siidaa Aasheeraas ni gube. [16] Yosiyaasis of irra garagalee awwaalawwan tulluu irra
jiran achitti arge; nama ergees awwaalawwan sana keessaa lafeewwan fichisiisee
akkuma dubbii WAAQAYYOO kan namni Waaqaa inni duraan dursee waan kana
dubbate sun labsetti iddoo aarsaa irratti gubee isa xureesse.

[17] Mootichi, “Dhagaan awwaalaa kan ani arguutti jiru kun maal?” jedhee ni gaafate.

Namoonni magaalaa sanaa immoo, “Inni awwaala nama Waaqaa kan Yihuudaad-
haa dhufee waanuma ati iddoo aarsaa Beet’eel goote kana duraan dursee labse sanaa
ti” jedhan.

[18] Innis, “Isa dhiisaa; namni tokko iyyuu lafee isaa hin tuqin” jedhe. Kanaafuu
isaan lafee isaattii fi lafee raajicha Samaariyaadhaa dhufe sanaa illee ni dhiisan.

[19] Yosiyaas akkuma Beet’eelitti godhe sana iddoowwan sagadaa kanneen gaarran
irraa kanneen mootonni Israa’el magaalaawwan Samaariyaa keessatti ijaaranii
WAAQAYYOON dheekkamsaaf kakaasan sana hunda ni diige. [20] Innis luboota

iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hunda iddoowwan aarsaa irratti qalee
lafee namaas achuma irratti ni gube. Ergasiis gara Yerusaalemitti ni deebi'e.
21 Mootichis, "Akkuma Kitaaba Kakuu kana keessatti barreeffame sanatti WAAQAYYO
Waaqa keessaniif Faasiikaa ayyaaneffadhaa" jedhee saba hunda ajaje. 22 Bara
abbootii murtii kanneen Israa'elin bulchaa turaniitii jalqabee yookaan bara mootota
Israa'el hunda keessa yookaan Yihuudaa keessa Faasiikaan akkasii takkumaa
ayyaaneffamee hin beeku. 23 Garuu bara Yosiyaas mootichaa keessa waggaa kudha
saddeettaffaatti Faasiikaan kun Yerusaalemitti WAAQAYYOOF ayyaaneffamaa ture.
24 Kana malees Yosiyaas ilaaltotaa fi eker dubbistoota, taraafimii, waaqota
tolfamoo fi wantoota jibbisiisoo kanneen Yihuudaa fi Yerusaalem keessatti argaman
biraa hunda balleesse. Innis seera kitaaba Hilqiyaa lubichi mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessatti arge sana irratti barreeffame hojii irra oolchuudhaaf waan
kana godhe. 25 Mootiin akka Yosiyaas kan akka Seera Musee hundaatti garaa isaa
guutuudhaan, lubbuu isaa guutuu fi humna isaa guutuudhaan gara WAAQAYYOOTTI
deebi'e tokko iyyuu isaan duras isaan duubas hin argamne.
26 Ta'us sababii Minaaseen waan hojjete hundaan dheekkamsaaf isa kakaaseef
WAAQAYYO dheekkamsa isaa guddaa fi sodaachisaa Yihuudaa irratti boba'e sana
irraa hin deebine. 27 Kanaafuu WAAQAYYO, "Ani akkuma Israa'elin balleesse sana
Yihuudaas fuula koo duraa nan balleessa; Yerusaalem magaalaa ani filadheef mana
qulqullummaa kan ani, 'Maqaan koo achi jiraata' jedhee waa'ee isaa dubbadhe kana
nan dhiisa" jedhe.
28 Wanni bara mootummaa Yosiyaas keessa hojjetame kan biraatii fi wanni inni
hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffameera mitii?
29 Bara Yosiyaas mootii turetti, Fara'oon Nekkoon mootichi Gibxi mootii Asoor
gargaaruuf jedhee gara Laga Efraaxiisitti ol ba'e. Yosiyaas mootichis of irraa isa
ittisuudhaaf itti gad ba'e. Nekkoon garuu isatti dhufee Megidootti isa ajjeese.
30 Garboonni Yosiyaasis gaariidhaan Megidoodhaa gara Yerusaalemitti reeffa isaa
fidanii awwaala isaa keessatti isa awwaalan. Ergasiis sabni biyya sanaa Yehoo'aahaaz
ilma Yosiyaas fuudhanii dibanii iddoo abbaa isaa buusanii mootii isa godhan.

### *Yehoo'aahaaz Mooticha Yihuudaa*
### *23:31-34 kwf – 2Sn 36:2-4*

31 Yehoo'aahaazis yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii sadii ture;
innis Yerusaalem keessa taa'ee ji'a sadii bulche. Maqaan haadha isaa Hamuutaal
ture; isheenis intala Ermiyaas kan Libnaadhaa dhuftee turte. 32 Innis akkuma
abbootiin isaa hojjetan sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. 33 Akka
inni Yerusaalem keessa taa'ee hin bulchineef Fara'oon Nekkoon Hamaati keessatti
Riiblaati foncaan isa hidhee Yihuudaa irrattis gibira meetii taalaantii* dhibba tokkoo
fi warqee taalaantii tokko mure. 34 Fara'oon Nekkoon Eliiyaaqiim ilma Yosiyaas
mootichaa iddoo Yosiyaas iddoo abbaa isaa buusee mootii godhe; maqaa Eliiyaaqiimis
geeddaree Yehooyaaqiim jedheen. Yehoo'aahaazin garuu fuudhee Gibxitti geesse;
innis achitti du'e. 35 Yehooyaaqiimis meetii fi warqee Fara'oon Nekkoon gaafate sana
ni baase. Waan kana baasuufis gibira biyyatti muree namoota biyyattii irraa akkuma
galii isaaniitti meetii fi warqee walitti qabe.

### *Yehooyaaqiim Mooticha Yihuudaa*
### *23:36–24:6 kwf – 2Sn 36:5-8*

36 Yehooyaaqiim yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii shan ture;
innis Yerusaalem keessa taa'ee waggaa kudha tokko bulche. Maqaan haadha isaa
Zebuudaa ture; isheenis intala Phedaayaa kan magaalaa Ruumaatii dhufte turte.

---

* **23:33** 23:33 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34.

37 Innis akkuma abbootiin isaa hojjetan sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete.

# 24

1 Bara mootummaa Yehooyaaqiim keessa Nebukadnezar mootichi Baabilon biyya
sana ni weerare; Yehooyaaqiimis waggaa sadii isaaf garboome. Ergasii garuu
yaada geeddaratee Nebukadnezaritti fincile. 2 WAAQAYYOS saamtota Baabilon,
saamtota Sooriyaa, saamtota Mo'aabii fi saamtota Amoon isatti erge. Innis
akkuma dubbii WAAQAYYOO kan garboonni isaa raajonni dubbatan sanaatti Yihuudaa
balleessuudhaaf isaan erge. 3 Dhugumaan wanni kun sababii cubbuu Minaaseetii
fi waan inni hojjete hundaatiif fuula isaa duraa isaan balleessuudhaaf akkuma
ajaja WAAQAYYOOTTI Yihuudaatti dhufe; 4 akkasumas sababii inni dhiiga namoota
yakka hin qabnee dhangalaasee fi sababii inni dhiiga namoota yakka hin qabneetiin
Yerusaalemin guuteef WAAQAYYO dhiisuufii hin barbaanne.
5 Wantoonni bara mootummaa Yehooyaaqiim keessa hojjetaman kanneen biraatii fi
wanni inni hojjete hundi kitaaba seenaa mootota Yihuudaa keessatti barreeffamani-
iru mitii? 6 Yehooyaaqiim abbootii isaa wajjin ni boqote. Ilmi isaa Yehooyaakiin iddoo
isaa bu'ee mootii ta'e.
7 Sababii mootichi Baabilon biyya isaa hunda, Malkaa Gibxii jalqabee hamma Laga
Efraaxiisitti qabateef mootiin Gibxi lammata duulaaf biyya isaatii hin baane.

*Yehooyaakiin Mooticha Yihuudaa*
*24:8-17 kwf – 2Sn 36:9-10*

8 Yehooyaakiin yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa kudha saddeet ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee ji'a sadii bulche. Maqaan haadha isaa Nehushtaa ture;
isheenis intala Elnaataan namicha Yerusaalem sanaa ti. 9 Innis akkuma abbaan isaa
hojjete sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete.
10 Yeruma sanatti loltoonni Nebukadnezar mooticha Baabilon Yerusaalemitti
duulanii ishee ni marsan; 11 utuma ajajjoonni loltoota isaa ishee marsaa jiranuu
Nebukadnezar mataan isaa gara magaalattii ni dhufe. 12 Yehooyaakiin mootichi
Yihuudaa, haati isaa, garboonni isaa, namoonni isaa bebeekamoonii fi qondaaltonni
isaa hundinuu mootii Baabilonitti harka kennatan.
Mootiin Baabilonis moo'ee waggaa saddeettaffaatti Yehooyaakiinin booji'ee ni
fudhate. 13 Nebukadnezaris akkuma WAAQAYYO dubbatee ture sanatti qabeenya
mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi kan masaraa mootummaa keessa ture hunda
ni fudhate; mi'a warqee kan Solomoon mootichi Israa'el mana qulqullummaa
WAAQAYYOOTIIF tolche hunda isaa immoo caccabse. 14 Inni warra Yerusaalem keessa
jiraatan hunda ajajjoota waraanaatii fi loltoota hunda, warra ogummaa hojii harkaa
qabanii fi warra sibiila tuman hunda walumatti nama kuma kudhan booji'ee ni
fudhate. Namoota akka malee hiyyeeyyii qofatu biyya sanatti hafe.
15 Nebukadnezar Yehooyaakiinin booji'ee Baabilonitti ni geesse. Akkasumas
haadha mootichaa, niitota isaa, qondaaltota isaatii fi namoota biyya sanaa
bebbeekamoo booji'ee Yerusaalemii gara Baabilonitti ni geesse. 16 Kana malees
mootichi Baabilon humna waraanaa guutuu kan nama kuma torba of keessaa qabu,
warra ogummaa hojii harkaa qabanii fi warra sibiila tuman kuma tokko booji'ee
Baabilonitti ni geesse; isaan kunneen hundi jajjaboo fi warra lola danda'an turan.
17 Innis Mataaniyaa eessuma Yehooyaakiin sana iddoo isaa mootii godhe; maqaa isaas
Zedeqiyaatti ni geeddare.

*Zedeqiyaa Mooticha Yihuudaa*
*24:18-20 kwf – 2Sn 36:11-16; Erm 52:1-3*

[18] Zedeqiyaa yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii tokkoo ture; innis Yerusaalem keessa taa'ee waggaa kudha tokko bulche. Maqaan haadha isaa Hamuutaal ture; isheenis intala Ermiyaas kan magaalaa Libnaatii dhufte turte.
[19] Innis akkuma Yehooyaaqiim hojjete sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa ni hojjete. [20] Wanni kun hundi sababii dheekkamsa WAAQAYYOOTIIF Yerusaalemii fi Yihuudaa irra ga'e; dhuma irrattis inni fuula isaa duraa isaan balleesse.

*Kufaatii Yerusaalem*
*25:1-12 kwf – Erm 39:1-10*
*25:1-21 kwf – 2Sn 36:17-20; Erm 52:4-27*
*25:22-26 kwf – Erm 40:7-9; 41:1-3,16-18*

Zedeqiyaa mooticha Baabilonitti fincile.

# 25

[1] Kanaafuu bara mootummaa Zedeqiyaa keessa waggaa saglaffaatti, bultii kurnaffaa ji'a kurnaffaatti, Nebukadnezar mootiin Baabilon guutummaa loltoota isaa wajjin Yerusaalemitti duule. Innis magaalattiin ala qubatee naannoo ishee hundatti tuullaa biyyoo marse. [2] Magaalaan sunis hamma waggaa kudha tokkoffaa bara Zedeqiyaa Moottichaatti akkuma marfamtetti turte.

[3] Bultii saglaffaa ji'a afuraffaatti, magaalattii keessatti beelli akka malee hammaatee namni waan nyaatu tokko illee dhabe. [4] Ergasii dallaan magaalattii cabsamee loltoonni hundinuus utuma Baabilononni magaalaa sana marsanii jiranuu karaa karra dallaa iddoo biqiltuu moottichaa bira jiru lamaan gidduu baasu sanaatiin halkaniin ba'anii baqatan. Isaanis Arabbaatti baqatan; [5] loltoonni Baabilon garuu mooticha ari'anii dirree Yerikoo irratti isa qaqqaban. Loltoonni isaa hundis isa irraa gargar ba'anii bibittinnaa'anii turan; [6] innis ni qabame.

Gara mootii Baabilonitti Riiblaatti geeffamee achittis itti murame. [7] Isaanis ijuma isaa duratti ilmaan Zedeqiyaa fixan; isaanis ija isaa keessaa baasanii foncaa naasiitiin hidhanii Baabilonitti isa geessan.

[8] Bara mootummaa Nebukadnezar mooticha Baabilon keessa waggaa kudha saglaffaatti, bultii torbaffaa ji'a shanaffaatti, Nebuzaradaan ajajaan eegumsa mootummaa, qondaalli mootii Baabilon sun gara Yerusaalem dhufe. [9] Innis mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI, masaraa mootummaattii fi manneen Yerusaalem hundatti ibidda qabsiise. Manneen gurguddaa hundas ni gube. [10] Loltoonni Baabilon kanneen ajajaa eegumsa mootummaa jala turan hundi dallaawwan naannoo Yerusaalem turan diigan. [11] Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun namoota magaalaa keessatti hafanii fi warra baqatanii mootii Baabilonitti kooluu galan booji'ee fudhate. [12] Ajajaan sun garuu hiyyeeyyii biyyattii keessaa gariin akka wayinii kunuunsanii fi lafa qotaniif achitti dhiise.

[13] Baabilononni sun utubaawwan naasii, baattuuwwan iddoodhaa socho'anii fi Gaanii naasii irraa hojjetamee mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa ture caccabsanii naasii sana immoo Baabilonitti geessan. [14] Akkasumas okkoteewwan, waan ittiin daaraa hammaaran, waan ittiin ibsaa irraa daaraa dhadha'an, caabiiwwanii fi mi'oota naasii irraa hojjetaman kanneen tajaajila mana qulqullummaatiif oolan hunda fudhatan. [15] Ajajaan eegumsaa sunis girgiraawwanii fi waciitiiwwan ittiin dhiiga facaasan kanneen hundi isaanii warqee qulqulluu irraa yookaan meetii irraa hojjetaman fudhatee deeme.

[16] Ulfinni naasii kan Solomoon ittiin utubaawwan lamaan, Gaanii fi baattuuwwan iddoodhaa socho'aniin mana qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF hojjetee ture waan madaalliin madaaluu danda'uu oli turan. [17] Tokkoon tokkoon utubaa sanaa dhundhuma kudha saddeet ol dheerata ture. Guutuun naasii kan utubaa tokko irraas dhundhuma sadii ol dheeratee naannoon isaa guutuun sibiila wal keessa loofamee

tolfamee fi roomaanii naasiitiin miidhagfamee ture. Utubaan kaanis sibiila isaa kan wal keessa loofamee tolfame wajjin kanuma fakkaata ture.
18 Ajajaan eegumsaa sun, Seraayaa lubicha hangafa, Sefaaniyaa lubicha Sadarkaan
isatti aanuu fi eegdota balbalaa sadan hidhee fuudhee deeme. 19 Warra amma
illee magaalaa keessatti hafan keessaa ajajaa loltootaatii fi gorsitoota mootii shan fudhate. Akkasumas barreessaa qondaala ol aanaa ture kan saba keessaa loltummaaf namoota filatu sanaa fi namoota isaa kanneen magaalaa keessatti argaman jaatama
fudhate. 20 Nebuzaradaan ajajaan sun hunda isaanii guuree Riiblaatti gara mooticha
Baabilonitti geesse. 21 Mootichis achuma Riiblaat biyya Hamaati keessatti isaan ni fixe.

Yihuudaanis akkasiin booji'amtee biyya isheetii baate.
22 Nebukadnezar mootichi Baabilon akka inni namoota Yihuudaatti hambise sana
bulchuuf Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam ilma Shaafaan sana muude. 23 Ajajjoonni
loltootaa hundii fi namoonni isaanii yeroo akka mootichi Baabilon Gedaaliyaasin bulchaa kutaa biyyaa godhee muude dhaga'anitti Gedaaliyaas bira Miisphaa dhufan; isaanis Ishmaa'eel ilma Naataaniyaa, Yoohaanaan ilma Qaareyaa, Seraayaa ilma Tanhumeeti namicha Netoof sanaa, Yaazaniyaa ilma namicha Ma'akaatii fi namoota
isaanii turan. 24 Gedaaliyaasis, "Qondaaltota Baabilon hin sodaatinaa; biyyattii keessa qubadhaatii mooticha Baabilon tajaajilaa; waan gaariitu isinii ta'aatii" jedhee isaanii fi namoota isaaniitiif kakate.
25 Garuu ji'a torbaffaa keessa Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa ilma Eliishaamaa kan sanyii moototaa irraa dhalate sun namoota kudhan wajjin dhufee Gedaaliyaas, namoota Yihuudaatii fi namoota Baabilon kanneen isa wajjin Miisphaa turan fixe.
26 Kana irratti namni hundi xinnaa fi guddaan, Baabilonota sodaatee ajajjoota waraanaa wajjin gara Gibxitti baqate.

### *Yehooyaakiin Gad Dhiifame*
*25:27-30 kwf – Erm 52:31-34*

27 Yehooyaakiin mootiin Yihuudaa booji'amee waggaa soddomii torbaffaa isaatti, Eewiil Marodaak mootii Baabilon ta'e; innis wagguma sana keessa bultii digdamii torbaffaa ji'a kudha lammaffaatti Yehooyaakiin mootii Yihuudaa sana mana hidhaatii
gad dhiise. 28 Afaan tolaadhaanis isatti dubbatee barcuma ulfinaa kan barcuma
mootota isa wajjin Baabilon keessa turan kaanii caalu kenneef. 29 Kanaafuu
Yehooyaakiin uffata isaa kan mana hidhaatti uffachaa ture sana of irraa baasee
bara jireenya isaa guutuu yeroo hunda maaddii mootichaa irraa nyaate. 30 Mootichis
hamma inni lubbuudhaan jiraatetti guyyuma guyyaadhaan waan isaaf barbaachisu Yehooyaakiiniif kennaa ture.

# Kitaaba Seenaa Tokkoffaa

*Sanyii Addaam*

*Hamma Ilmaan Nohiitti*
1 Addaam, Seeti, Enoosh,
2 Qeenaan, Mahalaleel, Yaared,
3 Henook, Matuuselaa, Laameh,
Noh.

4 Ilmaan Noh: Seem, Haam, Yaafet:

*Yaafetoota*
*1:5-7 kwf – Uma 10:2-5*
5 Ilmaan Yaafet:
Goomer, Maagoog, Meedee, Yaawaan, Tuubaal, Meshekii fi Tiiraas turan.
6 Ilmaan Goomer:
Ashkenas, Riifaatii fi Toogarmaa turan.
7 Ilmaan Yaawaan:
Eliishaa, Tarshiish, Kitiimii fi Roodaanota turan.

*Kaamota*
*1:8-16 kwf – Uma 10:6-20*
8 Ilmaan Haam:
Kuushi, Misrayim, Fuuxii fi Kana’aan turan.
9 Ilmaan Kuushi:
Saabaa, Hawiilaa, Sabtaa, Ra’imaa fi Sabtekaa turan.
Ilmaan Ra’imaa:
Shebaa fi Dedaan turan.
10 Kuushi abbaa Naamruud;
Naamruudis lafa irratti loltuu jabaa ta’e.
11 Misrayim immoo abbaa
Luudiimootaa, Anaamiimotaa, Lehaabiimotaa, Naftahiimootaa,
12 Fatrusiimotaa, Kaseluhiimotaa jechuunis warra Filisxeemonni irraa dhalatanii fi Kaftooriimotaa ti.
13 Kana’aan abbaa
Siidoon ilma isaa hangaftichaa akkasumas kan Heetotaa,
14 Yebuusotaa, Amoorotaa, Girgaashotaa,
15 Hiiwotaa, Arkaawotaa, Siinotaa,
16 Arwaadewotaa, Zemaarotaatii fi Hamaatotaa ture.

*Seemota*
*1:17-23 kwf – Uma 10:21-31; 11:10-27*
17 Ilmaan Seem:
Eelaam, Ashuur, Arfaakshad, Luudii fi Arraam turan.
Ilmaan Arraam:
Uuzi, Huuli, Geterii fi Meshek turan.
18 Arfaakshad Sheelaa dhalche;
Sheelaan immoo Eeberin dhalche.
19 Eeberiifis ilmaan lamatu dhalate:
Sababii bara isaa keessa lafti gargar qoodamteef, maqaan isa tokkoo Felegi jedhamee moggaafame; maqaan obboleessa isaa immoo Yooqxaan jedhamee moggaafame.

20 Yooqxaan immoo
Almoodaad, Sheleef, Hazarmaawet, Yaaraa, 21 Hadooraam, Uuzaal, Diqlaa,
22 Eebaal, Abiimaa'eel, Shebaa, 23 Oofiir, Hawiilaa fi Yoobaabin dhalche. Warri
kunneen hundinuu ilmaan Yooqxaanii ti.

24 Seem, Arfaakshadi, Sheelaa,
25 Eeberi, Felegi, Re'uu,
26 Seruugi, Naahoor, Taaraa,
27 akkasumas Abraam kan Abrahaam jedhame sanaa dha.

### *Maatii Abrahaam*

28 Ilmaan Abrahaam: Yisihaaqii fi Ishmaa'eel.

### *Sanyiiwwan Aggaar*

*1:29-31 kwf – Uma 25:12-16*

29 Sanyiiwwan isaanii warra kanneenii dha:
Nabaayooti ilma Ishmaa'eel hangafticha, Qeedaar, Adbi'eel, Mibsaami,
30 Mishmaa, Duumaa, Maasaa, Hadaad, Teemaa, 31 Yexuur, Naafiishii fi
Qeedmaa.
Isaan kunneen ilmaan Ishmaa'eel.

### *Sanyiiwwan Heeturaa*

*1:32-33 kwf – Uma 25:1-4*

32 Ilmaan Qexuuraan saajjatoon Abrahaam sun deesse:
Zimraan, Yoqshaan, Medaan, Midiyaan, Yishbaaqii fi Shuwaa.
Ilmaan Yokshaan:
Shebaa fi Dedaan.
33 Ilmaan Midiyaan:
Eefaa, Eefer, Henook, Abiidaa fi Eldaa'aa.
Warri kunneen hundi sanyiiwwan Qexuuraa ti.

### *Sanyiiwwan Saaraa*

*1:35-37 kwf – Uma 36:10-14*

34 Abrahaam abbaa Yisihaaq.
Ilmaan Yisihaaq:
Esaawuu fi Israa'el.

### *Ilmaan Esaawuu*

35 Ilmaan Esaawu:
Eliifaaz, Re'uu'eel, Ye'uushi, Ya'ilaamii fi Qooraahi.
36 Ilmaan Eliifaaz:
Teemaan, Oomaar, Zefoo, Gaataamii fi Qenaz;
karaa Tiimnaatiin: Amaaleq.
37 Ilmaan Re'uu'eel:
Nahaati, Zeraa, Shamaa fi Miizaah.

### *Namoota See'iir kanneen Edoom keessa Jiraatan*

*1:38-42 kwf – Uma 36:20-28*

38 Ilmaan See'iir:
Looxaan, Sobaal, Zibe'oon, Aannaa, Diishoon, Eezerii fi Diishaan.
39 Ilmaan Looxaan:
Hoorii fi Hoomaam, Tiimnaa obboleettii Looxaan.
40 Ilmaan Sobaal:
Aliwaan, Maanahaat, Eebaal, Shefoo fi Oonaami.
Ilmaan Zibe'oon:
Ayyaa fi Aannaa.

41 Ilmi Aannaa:
Diishoon.
Ilmaan Diishoon:
Hemdaan, Eshbaan, Yitraanii fi Keraan.
42 Ilmaan Eezeri:
Bilhaan, Zaawaanii fi Aqaan.
Ilmaan Diishaan:
Uuzii fi Araan.

*Bulchitoota Edoom*
*1:43-54 kwf – Uma 36:31-43*

43 Mootonni utuu mootiin Israa'el tokko iyyuu hin mo'in dura Edoom keessatti mo'an kanneen turan:
Belaa ilma Be'oor kan magaalaan isaa Diinhaabaa jedhamee moggaafame sana.
44 Belaa duunaan Yoobaab ilmi Zeraa namichi Bozraa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
45 Yoobaab duunaan Hushaam namichi biyya Teemaan iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
46 Hushaam duunaan Hadaad ilmi Bedad inni biyya Mo'aabitti Midiyaanin mo'ate sun iddoo isaa bu'ee mootii ta'e. Maqaan magaalaa isaa Aawiit jedhame.
47 Hadaad duunaan Samlaan namichi Masreeqaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
48 Samlaan duunaan Shaawul namichi biyya Rehoobooti ishee laga bira jirtu sanaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
49 Shaawul duunaan Ba'aal-Haanaan ilmi Akboor iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.
50 Ba'aal-Haanaan duunaan immoo Hadaad iddoo isaa bu'ee mootii ta'e. Magaalaan isaas Faa'uu jedhame. Maqaan niitii isaa immoo Maheexabi'eel jedhama
ture; isheenis intala Maxreed, intala Mee-Zaahaab turte. 51 Hadaadis ni du'e.

Hangafoota saba Edoom:
Tiimnaa, Aalwaa, Yeteeti, 52 Oholiibaamaa, Eelaa, Phiinoon, 53 Qenaz, Teemaan,
Mibzaar, 54 Magidii'eelii fi Iiraam.
Namoonni kunneen hangafoota Edoom turan.

# 2

*Ilmaan Israa'el*
*2:1-2 kwf – Uma 35:23-26*

1 Ilmaan Israa'el warra kanneenii dha: Ruubeen, Simi'oon, Lewwii, Yihuudaa, Yisaakor, Zebuuloon, 2 Daan, Yoosef, Beniyaam, Niftaalem, Gaadii fi Aasheer.

*Yihuudaa*
*2:5-15 kwf – Rut 4:18-22; Mat 1:3-6*

*Hamma Ilmaan Hezroonitti*
3 Ilmaan Yihuudaa:
Eeri, Oonaanii fi Sheelaa. Isaan kanneen sadanuu intala Shuuwaa, dubartii Kana'aan sanatu isaaf da'e.
Eer ilmi Yihuudaa hangaftichi fuula WAAQAYYOO duratti hamaa ture. Kanaafuu WAAQAYYO isa ajjeese.
4 Taamaar niitiin ilma Yihuudaa Faaresii fi Zaaraa Yihuudaaf deesse.
Yihuudaan walumaa galatti ilmaan shan qaba ture.

5 Ilmaan Faares:
Hezroonii fi Hamuul.
6 Ilmaan Zaaraa:
Zimrii, Eetaan, Heemaan, Kalkoolii fi Daardaa. Isaan walumaa galatti dhiirota shan turan.

7 Ilma Karmii:
Aakaar isa waan balleeffamuu qabu fudhachuudhaan Israa'elitti rakkina fide.
8 Ilma Eetaan:
Azaariyaa.
9 Ilmaan Hezroon:
Yerami'eel, Raamii fi Keluubaa.

### *Raam ilma Hezroonii jalqabee*

10 Raam abbaa Abiinaadaab ture;
Amiinaadaab immoo abbaa Nahishoon hoogganaa saba Yihuudaa ture.
11 Nahishoon abbaa Salmaan;
Salmaan immoo abbaa Bo'eez;
12 Bo'eez abbaa Oobeedi;
Yoobeed immoo abbaa Isseey.

13 Ilmaan Isseey:
Ilmi isaa hangafni Eliiyaab, lammaffaan Abiinaadaab,
sadaffaan Shime'aa, 14 Afuraffaan Naatnaa'el,
shanaffaan Raadaayi, 15 ja'affaan Oozem,
torbaffaan Daawit.
16 Obboleettonni isaanii immoo Zeruuyaa fi Abiigayiil turan.
Ilmaan Zeruuyaa sadan Abiishaayi, Yoo'aabii fi Asaaheel turan.
17 Abiigayiil haadha Amaasaa kan abbaan isaa Yeteer nama gosa Ishmaa'eel sanaa ti.

### *Kaaleb Ilma Hezroon*

18 Kaaleb ilmi Hezroon niitii isaa Azuubaa fi Yeri'ooti irraa ijoollee dhalche. Ilmaan Aazubaa kanneen turan:
Yeeser, Sobaabii fi Ardoon.
19 Kaalebis Azuubaan duunaan Efraataa fuudhe. Isheenis Huurin isaaf deesse.
20 Huuri abbaa Uuri; Uuri immoo abbaa Bezali'eel.

21 Ergasii Hezroon yommuu umuriin isaa waggaa jaatama guutetti intala abbaa Gili'aad intala Maakiir fuudhe; isheenis Seguubin isaaf deesse.
22 Seguub immoo abbaa Yaa'iir ture; innis biyya Gili'aad keessaa magaalaawwan digdamii sadii qaba ture.
23 Geshuurii fi Arraam, magaalaa Yaa'iir akkasumas Qeenaatii fi gandoota naannoo ishee jiraniin walitti magaalaawwan jaatama irraa fudhatan.
Isaan kunneen hundi sanyii abbaa Gili'aad sanyii Maakiir turan.
24 Hezroon erga Kaaleb Efraataatti du'ee booddee, niitiin isaa Abiyaan Ashihuur abbaa Teqoo'aa deesseef.

### *Yerahimi'eel Ilma Hezroon*

25 Ilmaan Yerami'eel ilma Hezroon hangafticha sanaa:
Raam ilma isaa hangafticha, Buunaah, Ooren, Oozemii fi Ahiiyaa. 26 Yerami'eel
niitii biraa kan Aaxaaraa jedhamtu qaba ture; isheenis haadha Oonaam turte.
27 Ilmaan Raam ilma Yerami'eel hangafticha sanaa:
Ma'aaz, Yaamiinii fi Eeqeer.
28 Ilmaan Oonaam:
Shamaayii fi Yaadaa.
Ilmaan Shamaayi:
Naadaabii fi Abiishur. 29 Niitiin Abiishur Abiihaayil jedhamti; isheenis Ahibaanii
fi Mooliid isaaf deesse.
30 Ilmaan Naadaab:

Seleedii fi Afayiim. Seleed utuu ijoollee hin dhalchin du’e.
31 Ilma Afayiim:
Yishe’ii; Yishe’iin abbaa Sheeshaan. Sheeshaan immoo abbaa Ahilayi.
32 Ilmaan Yaadaa kan obboleessa Shamaayi:
Yeteerii fi Yoonaataan. Yeteer utuu ijoollee hin dhalchin du’e.
33 Ilmaan Yoonaataan:
Pheletii fi Zaazaa.
Isaan kunneen sanyiiwwan Yerami’eel turan.

34 Sheeshaan intallan malee ilmaan hin qabu ture.
Innis tajaajilaa lammii Gibxi kan Yarihaa jedhamu tokko qaba ture. 35 Sheeshaan
tajaajilaa isaa Yarihaatti intala isaa ni heerumsiise; isheenis Ataayin deesseef.
36 Ataayi abbaa Naataan;
Naataan immoo abbaa Zaabaadin;
37 Zaabaad abbaa Eflaal;
Efelaal immoo abbaa Oobeedi;
38 Oobeedi abbaa Yehuu;
Yehuun abbaa Azaariyaa;
39 Azaariyaa abbaa Heleez;
Helees immoo abbaa Ele’aasaa ti;
40 Ele’aasaan abbaa Sismaayi;
Sismaayi abbaa Shaluum;
41 Shaluum abbaa Yeqameyaa ti;
Yeqameyaan immoo abbaa Eliishaamaa ti.

### *Gosoota Kaaleb*

42 Ilmaan Kaaleb obboleessa Yerami’eel:
Meeshaan ilmi isaa hangaftichi abbaa Ziif; Ziif abbaa Maareeshaa ti;
Maareeshaan immoo abbaa Kebroon.
43 Ilmaan Kebroon:
Qooraahi, Tafuu’aa, Reqemii fi Shemaa.
44 Shemaan abbaa Raham;
Raham immoo abbaa Yorqe’aam.
Reqem abbaa Shamaayi.
45 Shamaayi abbaa Maa’oon;
Maa’oon immoo abbaa Beet Zuuri.
46 Eefaan saajjatoon Kaaleb sun haadha
Haaraan, Moozaa fi Gaazeez.
Haaraan immoo abbaa Gaazer.
47 Ilmaan Yaahidaay:
Reegeem, Yootaam, Geeshaan, Phelet, Eefaa fi Sha’aaf.
48 Ma’akaan saajjatoon Kaaleb sun haadha
Shebeerii fi Tirhaanaa ti.
49 Isheen akkasumas Sha’aaf abbaa Madmaanaa,
Shewwaa abbaa Makbeenaa fi abbaa Gibe’aa deesse.
Kaaleb intala Aaksaa jedhamtu qaba ture.
50 Isaan kunneen sanyiiwwan Kaaleb turan.

Ilmaan Huuri ilma Efraataa hangaftichaa:
Sobaal abbaa Kiriyaati Ye’aariim, 51 Salmaan abbaa Beetlihem, Haareef abbaa
Beet Gaadeer.
52 Sanyiiwwan Sobaal kan abbaa Kiriyaati Ye’aariim:

Walakkaan Menuhootaa, Haaroo’ee, 53 akkasumas gosti Kiriyaati Ye’aariim,
Yitraawonni, Fuutonni, Shumaatonni, Mishiraawonni, Zoraatotaa fi Eshi-
taa’oloonni gosoota isaan kanneen keessaa dhalatanii dha.
54 Sanyiiwwan Salmaan:
Beetlihem, Netoofota, Atroot Beet Yoo’aab, walakkaa Maanaheetotaa, Zoraatota
fa’i; 55 balbala barreessitootaa kanneen Yaabeex keessa jiraatan: Tiraatota,
Shime’aatotaa fi Sukaatota. Isaan kunneen Qeenota mana abbaa Rekaab
Hamaati keessaa dhalatanii dha.

# 3

*Ilmaan Daawit*
*3:1-4 kwf – 2Sm 3:2-5*
*3:5-8 kwf – 2Sm 5:14-16; 1Sn 14:4-7*

1 Isaan kunneen ilmaan Daawit Kebroonitti dhalchee dha:

Ilmi isaa hangafni Amnoon kan Ahiinoo’am dubartiin Yizri’eel deessee dha;
inni lammaffaan immoo Daani’el kan Abiigayiil dubartiin Qarmeloos deessee dha;
2 sadaffaan Abesaaloom isa Ma’akaan intalli Talmaay mooticha Geshuur deessee dha;
afuraffaan Adooniyaa ilma Hagiit;
3 shanaffaan Shefaaxiyaa ilma Abiixaal;
ja’affaan Yitre’aam kan inni niitii isaa Eglaa irraa dhalchee dha.

4 Isaan ja’aan kunneen warra yeroo Daawit Kebroonitti waggaa torbaa fi walakkaa mootii turetti isaaf dhalatanii dha.

Daawit Yerusaalemitti waggaa soddomii sadii mootii ta’ee bulche; 5 ijoolleen
achitti isaaf dhalatanis kanneenii dha:

Shime’aa, Shobaab, Naataanii fi Solomoon. Ilmaan afran kunneen Batisheebaa intala Amii’eel irraa dhalatan.
6 Akkasumas ilmaan biraa qaba ture; isaanis: Yibehaar, Eliishuuwaa, Eliiphelexi,
7 Noogaa, Nefeg, Yaafiiyaa, 8 Eliishaamaa, Eliyaadaa fi Eliiphelexi; isaanis
walumatti ilmaan sagal turan.

9 Ilmaan saajjatoowwan isaa irraa dhalataniin alatti isaan kunneen ilmaan Daawit turan. Taamaar immoo obboleettii isaanii turte.

*Mootota Yihuudaa*
10 Ilmi Solomoon Rehoobo’aam;
ilmi Rehoobo’aam Abiyaa dha;
ilmi Abiyaa Aasaa dha;
ilmi Aasaa Yehooshaafaax;
11 ilmi Yehooshaafaax Yehooraam;
ilmi Yooraam Ahaaziyaa;
ilmi Ahaaziyaa Yoo’aash;
12 ilmi Yoo’aash Amasiyaa;
ilmi Amasiyaa Azaariyaa;
ilmi Azaariyaa Yootaam;
13 ilmi Yootaam Aahaaz;
ilmi Aahaaz Hisqiyaas;
ilmi Hisqiyaas Minaasee dha;

14 ilmi Minaasee Aamoon;
ilmi isaa immoo Yosiyaas.
15 Ilmaan Yosiyaas:
Inni hangafni Yoohaanaan,
lammaffaan Yehooyaaqiim,
sadaffaan Zedeqiyaa,
afuraffaan immoo Shaluum.
16 Ilmaan Yehooyaaqiim:
Ilma isaa Yehooyaakiinii fi
ilma isaa Zedeqiyaa.

*Hidda Dhaloota Moototaa Kan Boojuu booddee ture*

17 Ilmaan Yehooyaakiin isa booji'ame sanaa:
Ilma isaa She'altii'eel, 18 Malkiiraam, Phedaayaa, Shenaaxaar, Yeqameyaa,
Hooshaamaa fi Nedaabiyaa.
19 Ilmaan Phedaayaa:
Zarubaabelii fi Shime'ii.
Ilmaan Zarubaabel:
Meshulaamii fi Hanaaniyaa. Obboleettiin isaanii immoo Sheloomiit jedhamti.
20 Akkasumas ijoollee gara biraa shanitu ture; isaanis: Hashubaa, Oohel,
Berekiyaa, Hasadiyaa fi Yooshab-Heseed.
21 Ilmaan Hanaaniyaa:
Phelaatiyaa fi Yeshaayaa; akkasumas ilmaan Refaayaa, ilmaan Arnaan, ilmaan Obaadiyaatii fi ilmaan Shekaaniyaa.
22 Ilmaan Shekaaniyaa:
Shemaa'iyaa fi ilmaan isaa: Haxuush, Yigi'aal, Baariiyaah, Na'aariyaa fi Shaafaax; isaan walumatti ja'a turan.
23 Ilmaan Na'aariyaa:
Eliiyoo'eenayi, Hisqiyaasii fi Azriiqaam; isaan walumatti sadii turan.
24 Ilmaan Eliiyoo'eenayi:
Hoodayiwaa, Eliyaashiib, Phelaayaa, Aquub, Yoohaanaan, Delaayaa fi Anaanii; isaan walumatti torba turan.

# 4

*Balbalawwan Yihuudaa Kanneen Biraa*

1 Ilmaan Yihuudaa:
Faares, Hezroon, Karmii, Huurii fi Sobaal.
2 Re'aayaan ilmi Sobaal abbaa Yahaatiiti; Yahaati immoo abbaa Ahuumaayii fi Laahadii ti. Isaan kunneen balbalawwan Zoraatotaa ti.
3 Ilmaan Eexaam kanneenii dha:
Yizri'eel, Yishmaa fi Yidbaashi. Obboleettiin isaanii immoo Hazelelphoonii
jedhamti. 4 Phenuu'eel abbaa Gedoor; Eezer immoo abbaa Huushaam.
Isaan kunneen sanyii Huuri ilma Efraataa hangaftichaatii fi abbaa Beetlihem sanaa ti.
5 Ashihuur abbaan Teqoo'aa niitota lama kanneen Heelaa fi Na'araa jedhaman qaba ture.
6 Na'araan ilmaan Ahuzaam, Heefer, Teemenii fi Haa'ahashitaar jedhaman deesseef. Ilmaan Na'araa isaan kanneen turan.
7 Ilmaan Heelaa:
Zeret, Zooharii fi Etnaan; 8 Qoosi abbaa Anuub, abbaa Hazobeebaa fi abbaa
balbalawwan Aahariheel ilma Haaruumiti.

9 Yaabeex nama obboloota isaa caalaa ulfina qabu ture; haatii isaa, “Ani
dhiphinaanan isa da’e” jettee Yaabeex jettee isa moggaafte. 10 Yaabeex immoo akkana
jedhee Waaqa Israa’elitti iyyate; “Ati na eebbisi; biyya koos naaf bal’isi! Akka ani
hin miidhamnee fi akka ani dhiphina jalaa ba’uuf harki kee na wajjin haa jiraatu.”
Waaqnis waan inni kadhate sana ni kenneef.

11 Kiluub obboleessi Shuhaa abbaa Mihiirii ti; Mehiir immoo abbaa Eshitooniti.
12 Eshitoonis abbaa Beet Raafaan, abbaa Faasehaa fi Tehiinaa ti; Tahiinaan immoo
abbaa Iir Naahaashii ti. Isaan kunneen namoota Reekaa ti.

13 Ilmaan Qenaz:
Otnii’eelii fi Seraayaa.
Ilmaan Otnii’eel:
Hataatii fi Ma’oonotaayi. 14 Me’oonotaayi abbaa Ofraa ti.
Seraayaan abbaa Yoo’aabii ti; Yoo’aab immoo abbaa Gee Haraashiimii ti.
Maqaan kun sababii isaan ogummaa hojii harkaa qabaniif kennameef.
15 Ilmaan Kaaleb ilma Yefunee:
Iiruu, Eelaa fi Na’aam.
Ilmi Eelaa:
Qenaz.
16 Ilmaan Yehaleli’eel:
Ziifii, Ziifaa, Tiiriyaa fi Asareel.
17 Ilmaan Izraa:
Yeteer, Mered, Eeferii fi Yaaloon.
Niitota Mered keessaa isheen tokko Miiriyaam, Shamaayii fi Yishibaa abbaa
Eshtimo’aa sana deesse. 18 Niitiin isaa dubartiin Yihuudaa sunis Yaared abbaa
Gedoor, Hebeer abbaa Sookooniitii fi Yequutii’eel abbaa Zaano’aa deesse.
Isaan kunneen ijoollee Bitiyaa intala Fara’oon kan Mered fuudhe sanaa ti.
19 Ilmaan niitiin Hoodiyaa obboleettiin Naham sun deesse:
Abbaa Qeyiilaa namicha Garmii sanaatii fi Eshtimo’aa namicha Ma’akaa ti.
20 Ilmaan Simi’oon:
Amnoon, Riinaa, Ben-Haanaanii fi Tiiloon.
Ilmaan Yishi’ii:
Zoheetii fi Ben-Zoheetii ti.
21 Ilmaan Sheelaa ilma Yihuudaa:
Eer abbaa Leekaa, La’adaa abbaa Maareeshaatii fi balbalawwan Beet
Ashibee’aatti warra wayyaa quncee talbaa haphii hojjetanii.
22 Yooqiim, namoota Koozeebaa, Yoo’aashii fi Saaraaf isa Mo’aabii fi Yaashubi-
ileheem bulchu. Barreeffamni kunneenis kan bara durii ti. 23 Isaanis suphee
dhooftuu Nexaayiimii fi Gedeeraa keessa jiraatan turan; jarri kun mootichaaf
hojjechaa achi jiraatu ture.

*Simi’oon*
*4:28-33 kwf – Iya 19:2-10*

24 Ilmaan Simi’oon:
Nemuu’eel, Yaamiin, Yaariib, Zeraa fi Shaawul;
25 Shaluum ilma Saa’uul ture; Mibsaam ilma Shaluumiti; Mishmaa immoo ilma
Mabsaamiti.
26 Ilmaan Mishmaa:
Ilma isaa Hamuu’eel, ilma isaa Zakuurii fi ilma isaa Shime’ii.

27 Shime’iin ilmaan kudha ja’aa fi intallan ja’a qaba ture; obboloonni isaa garuu
ijoollee hedduu hin qaban ture; sababii kanaaf balbalawwan isaanii hundinuu
akka gosa Yihuudaa baay’ee hin turre. 28 Isaanis Bersheebaa, Molaadaa, Hazar

Shuu'aal, 29 Bilihaa, Ezem, Toolaad, 30 Betuu'eel, Hormaa, Siiqlaag, 31 Beet Markaabot,
Hazar Susiim, Beet Biirii fi Sha'arayiim keessa jiraatan. Magaalaawwan kunneen
hamma bara mootummaa Daawitiitti magaalaawwan isaanii turan. 32 Akkasumas
gandoota Eexaam, Ayin, Reemoon, Tookkenii fi Ashaan jechuunis magaalaa shananii
fi 33 gandoota naannoo isaaniitti argaman hunda keessa hamma Ba'aaliitti jiraatu
ture.

Kunneen iddoo isaan jiraatanii dha. Isaanis galmee hidda dhaloota isaanii kaawwatanii jiran.

34 Meshoobaab, Yamleek,
Yooshaa ilma Amasiyaa, 35 Yoo'eel,
Yehuu ilma Yooshibiyaa, ilma Seraayaa, ilma Asii'eel,
36 akkasumas Eliiyoo'eenayi, Yaa'iqoobaa, Yashoohayaa,
Asaayaa, Aadii'eel, Yesiimi'eel, Benaayaa,
37 Ziizaa ilma Shiifii, ilma Aloon, ilma Yedaayaa, ilma Shimrii, ilma Shemaa'iyaa.

38 Namoonni maqaan isaanii kanaa olitti himame kunneen hooggantoota balbala isaanii turan.

Baay'inni maatii isaaniis akka malee dabalaa dhufe; 39 isaanis bushaayee isaaniitiif
lafa dheedaa barbaacha hamma moggaa Gedoor kan gama ba'a sululaa jiru sanaatti
deeman. 40 Isaanis naannoo sanatti lafa dheedaa gabbataa fi gaarii argatan; lafni
sunis bal'aa, kan nagaa fi tasgabbii qabu ture. Bara durii gosoonni Haamii naannoo
sana jiraachaa turan.
41 Namoonni maqaan isaanii dha'ame kunneen bara Hisqiyaas mootii Yihuudaa
ture keessa dhufan. Isaan akkuma hamma har'aatti illee mul'atu qubata Kaamo-
taatii fi Me'uunoota achi jiraachaa turanii dha'anii guutumaan guutuutti isaan
barbadeessan. Ergasiis sababii lafa dheedaa bal'aa bushaayee isaaniitiif argataniif
lafa jaraa irra ni qubatan. 42 Simi'oonota kanneen keessaa namoonni dhibba shan
ilmaan Yishi'ii Phelaatiyaa, Na'aariyaa, Refaayaa fi Uzii'eel hoogganamanii biyya
gaaraa See'iir weeraran. 43 Isaanis Amaaleqoota miliqanii hafan balleessanii hamma
har'aatti achuma jiraatan.

# 5

### *Ruubeen*

1 Ruubeen Israa'eliif ilma hangafa ture; ta'us sababii inni siree abbaa isaa
xureesseef mirgi hangafummaa isaa ilmaan Yoosef ilma Israa'el sanaatiif
kenname. Kanaafuu inni akka mirga isaa kan dhalootaan argamuutti
hidda dhalootaa keessatti hin galmeeffamne; 2 Yihuudaan obboloota
isaa keessa nama jabaa fi kan mootummaan isa keessaa ba'e ta'u illee
mirgi hangafummaa kan Yoosefii ti. 3 Ilmaan Ruubeen ilma Israa'el
hangaftichaa:

Henooki, Faluusoo, Hezroonii fi Karmii.
4 Ilmaan Yoo'eel:
Shemaa'iyaa ilma isaa, Googi ilma isaa,
Shime'ii ilma isaa, 5 Miikaa ilma isaa,
Re'aayaa ilma isaa, Ba'aal ilma isaatii fi
6 Bi'eeraa ilma isaa kan mootiin Asoor Tiiglaat-Philneeser booji'ee fudhatee dha.
Be'eeraan hoogganaa gosa Ruubeen ture.

7 Firoonni isaanii warri akkuma hidda dhaloota isaaniitti balbala balbalaan galmeeffaman kanneenii dha:
Ye'ii'eel hangafticha, Zakkaariyaas, 8 Beelaa ilma Aazaazi, ilma Shemaa, ilma Yoo'eel.

Isaanis naannoo Aro'eeri jalqabee hamma Neboo fi Ba'aal Me'ooniitti jiru keessa
qubatan. 9 Isaanis sababii horiin isaanii Gili'aadi keessatti baay'ateef karaa ba'a
biiftuutiin hamma daarii gammoojjii kan gara laga Efraaxiisitti bal'atu sanaatti biyyattii qabatan.
10 Isaan jabana Saa'ol keessa Aggaariitti waraana kaasan; jarris harka isaaniitti mo'ataman; isaanis iddoo jireenyaa warra Aggaar kan Gili'aadiin gama ba'a biiftuu jiru guutumaan guutuutti qabatan.

### *Gaad*

11 Gosoonni Gaad isaanitti aananii Baashaan keessa lafa hamma Salkaatti argamu irra jiraatan; isaanis:

12 Yoo'eel hangaftichi, Shaafaam itti aanaan isaa, Ya'inayii fi Shaafaax Baashaan keessa jiraatan.
13 Firoonni isaanii maatii maatiidhaan kanneenii dha:
Miikaa'el, Meshulaam, Shebaa, Yooraay, Yaakaan, Zii'aa fi Eeber; walumaa galatti torba turan.
14 Isaan kunneen immoo ilmaan Abiihaayil ilma Huuri, ilma Yaarokaa, ilma Gili'aad, ilma Miikaa'el, ilma Yeshiishaayi, ilma Yakedoo, ilma Buuzii ti.
15 Ahiin ilmi Abdi'eel, hangafa maatii isaanii ture; Abdi'eel immoo ilma Guunii ti.

16 Warri Gaad Gili'aad keessa, Baashaanii fi gandoota daarii isheetti argaman, akkasumas lafa tikaa kan Shaaroon keessatti argaman hundaa fi qarqara isaa jiraatan.
17 Isaan kunneen hundi jabana Yootaam mootii Yihuudaa turee fi jabana Yerobi'aam mootii Israa'el ture keessa galmee hidda dhalootaa keessatti galmeeffaman.

18 Ruubeenonni, Gaadonnii fi walakkaan gosa Minaasee namoota dandeettii lolaa qaban 44,760 qaban ture; isaanis namoota jajjaboo warra gaachanaa fi goraadee qabachuu danda'an, warra xiyya darbachuu danda'anii fi warra waraanaaf
leenjifaman turan. 19 Jarri kunis warra Aggaariitti, warra Yexuuritti, Naafiishiittii fi
Noodaabiitti waraana ni banan. 20 Sababii isaan waraana sana irratti gara Waaqaatti
iyyatanii turaniif Waaqni isaan gargaaree warra Aggaariitii fi garee isaanii hunda dabarsee harka isaaniitti kenne. Innis sababii isaan isa amanataniif kadhannaa
isaaniitiif deebii kenne. 21 Isaanis horii warra Aggaar gaala kuma shan, hoolaa kuma dhibba lamaa fi shantamaa fi harree kuma lama saaman. Akkasumas nama
kuma dhibba tokkoo booji'an; 22 sababii lolli sun kan Waaqaa tureef namoonni biraa baay'een ni ajjeefaman. Isaanis hamma bara boojuutti biyya sana keessa ni jiraatan.

### *Walakkaa Gosa Minaasee*

23 Walakkaan gosa Minaasee baay'ee turan; isaanis Baashaanii jalqabanii hamma Ba'aal Hermooniitti, hamma Seniir Tulluu Hermoonitti biyya sana keessa qubatan.
24 Isaan kunneen hangafoota maatii isaanii ti: Eefer, Yishi'ii, Elii'eel, Azrii'eel, Ermiyaas, Hoodayiwaa fi Yadii'eel. Isaan kunneen loltoota gootota, namoota
bebbeekamoo fi hangafoota maatii isaanii ti. 25 Isaan garuu Waaqa abbootii isaaniitiif amanamuu didanii waaqota saboota biyyattii wajjin sagaagalan; saboonni kunneenis
warra Waaqni fuula isaanii duraa balleessee dha. 26 Kanaafuu Waaqni Israa'el

hafuura Fohaa mooticha Asoor jechuunis hafuura Phuuli kakaasee akka inni gosoota Ruubeen, kan Gaadiitii fi walakkaa gosa Minaasee booji'u godhe. Innis warra kanneen gara Halaa, Haaboor, Haaraatii fi gara qarqara laga Goozaaniitti geesse; isaanis hamma har'aatti achuma jiraatan.

# 6

*Lewwii*

1 Ilmaan Lewwii:
Geershoon, Qohaatii fi Meraar.
2 Ilmaan Qohaati:
Amraam, Yizihaar, Kebroonii fi Uzii'eel.
3 Ijoolleen Amraam:
Aroon, Musee fi Miiriyaam.
Ilmaan Aroon:
Naadaab, Abiihuu, Ele'aazaarii fi Iitaamaar.
4 Ele'aazaar abbaa Fiinehaas;
Fiinehaas immoo abbaa Abiishuuwaa ti;
5 Abiishuuwaan abbaa Buukii ti;
Bukiin immoo abbaa Uzii ti;
6 Uzii abbaa Zeraayaa ti;
Zaraa'iyaan abbaa Meraayootii ti;
7 Meraayoot abbaa Amariyaa ti;
Amariyaan abbaa Ahiixuubii ti;
8 Ahiixuub abbaa Zaadoqii ti;
Zaadoq abbaa Ahiima'azii ti;
9 Ahiima'az abbaa Azaariyaa ti;
Azaariyaa abbaa Yoohaanaanii ti;
10 Yoohaanaan abbaa Azaariyaa ti;
inni luba ta'ee mana qulqullummaa kan Solomoon Yerusaalemitti ijaare keessa tajaajilaa ture.
11 Azaariyaa abbaa Amariyaa ti;
Amariyaan abbaa Ahiixuubii ti;
12 Ahiixuub abbaa Zaadoqii ti;
Zaadoq abbaa Shaluumii ti;
13 Shaluum abbaa Hilqiyaa ti;
Hilqiyaa abbaa Azaariyaa ti;
14 Azaariyaa abbaa Seraayaa ti;
Seraayaan abbaa Yehoozaadaaqii ti.
15 Yeroo Waaqayyo akka sabni Yihuudaatii fi Yerusaalem Nebukadnezariin
booji'amu godhetti Yehoozaadaaqis booji'amee fudhatame.

16 Ilmaan Lewwii:
Geershoom, Qohaatii fi Meraarii.
17 Maqaan Ilmaan Geershoom kanaa dha:
Loobeenii fi Shime'ii.
18 Ilmaan Qohaati:
Amraam, Yizihaar, Kebroonii fi Uzii'eel.
19 Ilmaan Meraarii:
Mahilii fi Muusii.

Isaan kunneen Lewwota balbala balbala abbootii isaaniitiin lakkaa'amanii dha:
20 Balbala Geershoom keessaa:

Ilma isaa Loobeen, ilma isaa Yahaati,
ilma isaa Zimaati, 21 ilma isaa Yoo’aa,
ilma isaa Iddoo, ilma isaa Zeraa fi
ilma isaa Ye’aateraayi.
22 Ilmaan Qohaati:
Ilma isaa Amiinaadaab, ilma isaa Qooraahi,
ilma isaa Asiir, 23 ilma isaa Elqaanaa,
ilma isaa Ebiyaasaaf, ilma isaa Asiir,
24 ilma isaa Tahaat, ilma isaa Uurii’eel,
ilma isaa Uziyaa fi ilma isaa Shaawul.
25 Ilmaan Elqaanaa:
Amaasaayi, Ahiimooti,
26 ilma isaa Elqaanaa, ilma isaa Zoofayi,
ilma isaa Naahat, 27 ilma isaa Eliiyaab,
ilma isaa Yeroohaam, ilma isaa Elqaanaa fi
ilma isaa Saamu’eel.
28 Ilmaan Saamu’eel:
Ilma isaa Yoo’eel hangaftichaa fi
ilma isaa lammaffaa Abiyaa.
29 Ilmaan Meraarii:
Mahilii, ilma isaa Loobeen,
ilma isaa Shime’ii, ilma isaa Uzaa,
30 ilma isaa Shime’aa, ilma isaa Hagiyaa fi
ilma isaa Asaayaa.

### *Faarfattoota Mana Qulqullummaa*
### *6:54-80 kwf – Iya 21:4-39*

31 Namoonni erga taabonni dhufee achi boqotee booddee Daawit akka isaan
faarfannaadhaan mana WAAQAYYOO keessa tajaajilaniif muude kanneenii dha.
32 Isaanis hamma Solomoon Yerusaalem keessatti mana qulqullummaa WAAQAYYOO
ijaaretti dunkaana qulqulluu, dunkaana wal ga’ii duratti faarfannaadhaan tajaajilaa
turan. Isaanis akkuma seera isaaniif kenname sanaatti hojii isaanii hojjechaa turan.

33 Maqaan namoota ilmaan isaanii wajjin tajaajilanii kanneenii dha:

Ilmaan Qohaatotaa keessaa:
Heemaan Faarfataa,
ilma Yoo’eel, ilma Saamu’eel,
34 ilma Elqaanaa, ilma Yeroohaam,
ilma Elii’eel, ilma Too’aa,
35 ilma Zuufi, ilma Elqaanaa,
ilma Mahat, ilma Amaasaayi,
36 ilma Elqaanaa, ilma Yoo’eel,
ilma Azaariyaa, ilma Sefaaniyaa,
37 ilma Tahaat, ilma Asiir,
ilma Ebiyaasaaf, ilma Qooraahi,
38 ilma Yizihaar, ilma Qohaati,
ilma Lewwii, ilma Israa’el;
39 akkasumas Asaaf obboleessi Heemaan karaa mirgaatiin dhaabata ture:
Asaaf ilma Berekiyaa, ilma Shime’aa,
40 ilma Miikaa’el, ilma Ba’aseeyaa,
ilma Malkiyaa, 41 ilma Etnii,

ilma Zeraa, ilma Adaayaa,
42 ilma Eetaan, ilma Zimaa,
ilma Shime'ii, 43 ilma Yahaati,
ilma Geershoom, ilma Lewwii;
44 karaa bitaa isaatiin immoo warri isaan wajjin turan gosa Meraarii keessaa:
Eetaan ilma Qiisaa, ilma Abdii,
ilma Maluuk, 45 ilma Hashabiyaa,
ilma Amasiyaa, ilma Hilqiyaa,
46 ilma Amzii, ilma Baanii,
ilma Shemeer, 47 ilma Mahilii,
ilma Muusii, ilma Meraarii,
ilma Lewwii.

48 Obboloonni isaanii Lewwonni akka hojii dunkaana qulqulluu mana Waaqaa
hunda hojjetaniif ramadamanii turan. 49 Aroonii fi ilmaan isaa garuu akkuma waan
Museen garbichi Waaqaa sun ajajee ture hundaatti hojii Iddoo Iddoo Hunda Caalaa
Qulqulluu ta'e sanaatiif, sababii Israa'eliitiifis araara buusuudhaaf iddoo aarsaa kan
aarsaa gubamuutii fi iddoo aarsaa ixaanaa irratti aarsaawwan dhi'eessaa turan.

50 Ilmaan Aroon kanneenii dha:
Ilma isaa Ele'aazaar, ilma isaa Fiinehaas,
ilma isaa Abiishuuwaa, 51 ilma isaa Bukii,
ilma isaa Uzii, ilma isaa Zeraayaa,
52 ilma isaa Meraayoot, ilma isaa Amariyaa,
ilma isaa Ahiixuub, 53 ilma isaa Zaadoqii fi
ilma isaa Ahiima'az.

54 Sababii ixaan jalqabaa isaaniif ba'eef iddoowwan kunneen Aroonii fi ilmaan isaa kanneen balbala Qohaati keessaa dhufaniif ni kennaman; iddoowwan qubata isaanii kanneen akka biyya isaanii ta'aniif isaaniif ramadamanii dha:
55 Kebroon isheen biyya Yihuudaa keessaatii fi lafti dheedaa kan naannoo isheetti
argamtu isaaniif ni kennaman. 56 Lafti qotiisaatii fi gandoonni naannoo
Kebrooniitti argaman garuu Kaaleb ilma Yefuneetiif ni kennaman. 57 Ilmaan
Arooniif immoo magaalaawwan itti baqatan Kebroon, Libnaa, Yatiir, Eshtimo'aa,
58 Hiileen, Debiir, 59 Ashaan, Yootaa fi Beet Shemeshitu lafa dheeda isaanii wajjin
kenname.
60 Qooda gosa Beniyaam keessaa immoo Gibe'oon, Gebaa, Alemetii fi Anaatootittu lafa dheeda isaanii wajjin ni kennameef.

Magaalaawwan balbalawwan Qohaatotaatiif kennaman kunneen walumaa galatti kudha sadii turan.

61 Ilmaan Qohaati kanneen hafaniif immoo balbala walakkaa gosa Minaasee irraa magaalaawwan kudhanitu ixaadhaan kennameef.
62 Ilmaan Geershoomiitiif immoo qooda Yisaakor irraa, qooda Aasheer irraa, qooda Niftaalemiitii fi qooda Minaasee kan Baashaanitti argamu irraa magaalaawwan kudha sadii akkuma gosa gosa isaaniitti kennaman.
63 Ilmaan Meraariitiif qooda gosa Ruubeen irraa, qooda gosa Gaadiitii fi qooda gosa Zebuuloon irraa magaalaawwan kudha lama akkuma balbala balbala isaaniitti ni kennaman.

64 Akkasiin Israa’eloonni magaalaawwan kanneen lafa dheeda isaanii wajjin Lewwotaaf ni kennan.

65 Gosa Yihuudaa irraa, gosa Simi’ooniitii fi gosa Beniyaam irraa magaalaawwan maqaan isaanii armaan olitti dha’ame sana ixaadhaan ni kennaniif.

66 Maatiiwwan Qohaati tokko tokkos qooda gosa Efreem keessaa magaalaawwan jireenyaa argatanii turan.
67 Biyya gaaraa Efreem keessatti magaalaawwan itti baqatan Sheekem, Geezir,
68 Yoqemi’aam, Beet Horoon, 69 Ayaaloonii fi Gat Rimoon lafa dheeda isaanii
wajjin kennaniif.
70 Akkasumas Israa’eloonni walakkaa qooda gosa Minaasee irraa Aanerii fi Bile’aam lafa dheeda isaanii wajjin balbalawwan Qohaati kanneen hafaniif ni kennan.

71 Ilmaan Geershoom immoo:
Balbala walakkaa gosa Minaasee irraa Goolaan ishee Baashaan keessaa sanaa fi Ashtaaroti lafa dheeda isaanii wajjin ni argatan;
72 gosa Yisaakor irraa
Qaadesh, Daaberaati, 73 Raamootii fi Aanem lafa dheeda isaanii wajjin ni argatan;
74 gosa Aasheer irraa Maashaal, Abdoon, 75 Huuqooqii fi Rehoob lafa dheeda isaanii
wajjin ni argatan;
76 gosa Niftaalem irraa immoo Qaadesh ishee Galiilaatti argamtu, Hamoonii fi Kiriyaataayimin lafa dheeda isaanii wajjin ni argatan.

77 Namoonni gosa Meraarii jechuunis warri Lewwotaa kanneen hafan qooda kanaa gadii argatan:
Gosa Zebuuloon irraa Yooqni’aam, Qartaa, Rimoonii fi Taaboorin lafa dheeda isaanii wajjin argatan;
78 gosa Ruubeen kan ba’a Yerikootti Yordaanosiin gama jiru irraa Bezer ishee
gammoojjii keessatti argamtu, Yaahizaa, 79 Qidemootii fi Meefi’aati lafa dheeda
isaanii wajjin ni argatan.
80 Gosa Gaad irraa Raamooti ishee Gili’aad keessaa, Mahanayiim, 81 Heshboonii fi
Ya’izeer lafa dheeda isaanii wajjin ni argatan.

# 7

*Yisaakor*
1 Ilmaan Yisaakor:
Toolaa, Phuwaa, Yaashuubii fi Shimroon; walumatti nama afur turan.
2 Ilmaan Toolaa:
Uzii, Refaayaa, Yirii’eel, Yaahimaayi, Yibsaamii fi Shemuu’eel; isaan kunneen hangafoota maatii isaanii ti. Bara mootummaa Daawit keessa ilmaan Toolaa warri hidda dhaloota isaaniitiin akka loltoota jajjabootti galmeeffaman nama 22,600 turan.
3 Ilma Uzii:
Yizrahiyaa.
Ilmaan Yizrahiyaa:
Miikaa’el, Obaadiyaa, Yoo’eelii fi Yishiyaa. Shanan isaanii iyyuu hangafoota
turan. 4 Isaanis waan niitotaa fi ijoollee hedduu qabaataniif akka hidda
dhaloota maatii isaaniitti namoota lolaaf qophaa’an 36,000 qabu ture.

5 Firoonni loltoota jajjaboo turan kanneen balbalawwan Yisaakorii keessaa dhalatan warri akkuma hidda dhaloota isaaniitti galmeeffaman walumatti nama 87,000:

*Beniyaam*

6 Ilmaan Beniyaam sadan:
Belaa, Bekerii fi Yedii'eel.
7 Ilmaan Belaa:
Esboon, Uzii, Uzii'eel, Yeriimootii fi Iirii walumatti shan turan; hangafoonni mana abbootii isaaniis gootota jajjaboo turan; galmeen hidda dhaloota isaanii namoota 22,034 argisiisa.
8 Ilmaan Beker:
Zemiiraa, Yoo'aash, Elii'ezer, Eliiyoo'eenayi, Omrii, Yereemooti, Abiyaa, Anaatootii fi Alaameti. Isaan kunneen hundi ilmaan Beker turan.
9 Hangafoota mana abbootii isaanii kanneen akka dhaloota isaaniitti hidda dhaloota isaaniitiin lakkaa'aman gootota jajjaboo 20,200 turan.
10 Ilmi Yedii'eel:
Bilihaan.
Ilmaan Bilhaanii:
Ye'uushi, Beniyaam, Eehuud, Keni'aanaa, Zeetaan, Tarshiishii fi Ahiishahar.
11 Ilmaan Yedii'eel kunneen hundi hangafoota maatiiwwanii turan. Isaanis namoota waraana dhaquuf qophaa'an 17,200 qaban ture.
12 Gosti Shufiimiitii fi Hufiim ilmaan Iiri turan; Hushiim immoo ilma Aheerii ti.

*Niftaalem*

13 Ilmaan Niftaalemii:
Yahizii'eel, Guunii, Yeexerii fi Shaluum; isaan kunneen sanyii Bilihaa ti.

*Minaasee*

14 Ilmaan Minaasee:
Asrii'eel kan saajjatoon isaa isheen Arraamii dhufte sun deesseef. Isheenis Maakiir abbaa Gili'aad deesse.
15 Maakiir immoo gosoota Hufiimiitii fi Shufiim keessaa niitii fuudhe. Maqaan obboleettii isaas Ma'akaa ture. Sanyiin isaa kan biraa immoo Salpha'aad jedhama; Zelofehaad intallan qofa qaba ture.
16 Ma'akaan niitiin Maakiirii ilma deessee maqaa isaa Phereesh jettee moggaafte. Obboleessi isaa Sheresh jedhama; ilmaan isaa immoo Uulaamii fi Reqem jedhaman.
17 Ilmi Uulaam:
Bedaan.
Isaan kunneen ilmaan Gili'aadii ilma Maakiirii, ilma Minaasee sanaa ti.
18 Hamolekeeti obboleettiin isaa Iisihood, Abii'ezerii fi Mahilaa deesse.
19 Ilmaan Shemiidaa immoo:
Ahiiyaan, Sheekem, Likihii fi Aniyaam turan.

*Efreem*

20 Ilmaan Efreem:
Shuutelaa, ilma isaa Bereed,
ilma isaa Tahaat,
ilma isaa Ele'aadaa, ilma isaa Tahaat,
21 ilma isaa Zaabaadii,
ilma isaa Shuutelaa.
Eezerii fi Eli'aad yeroo loon warra Gaati kanneen achi jiraatan sanaa booji'uuf gad bu'anitti harka jaraatiin ni ajjeefaman.
22 Efreem abbaan isaanii guyyaa hedduu boo'eef; firoonni isaas isa jajjabeessuu dhufan.
23 Sana booddees dhaqee niitii isaa wajjin ciise; isheenis ulfooftee ilma deesse. Innis sababii maatii isaa keessa rakkinni tureef Beriiyaa jedhee maqaa baaseef.
24 Intalli

isaa immoo Sheeraa jedhamti; namni magaalaawwan Beet Horoonii kan gad aanuu fi kan ol aanu, akkasumas magaalaa Uzeen Sheeraa hundeesse ishee dha.
25 Refaa ilma isaa, Resheef ilma isaa,
Teelaa ilma isaa, Taahan ilma isaa,
26 La'adaan ilma isaa, Amiihuud ilma isaa,
Eliishaamaa ilma isaa, 27 Nuuni ilma isaatii fi
Iyyaasuu ilma isaa.
28 Biyyoonnii fi ardaan qubata isaaniis Beet'eelii fi gandoota naannoo ishee,
karaa ba'a biiftuutiin Na'araan, karaa lixa biiftuutiin immoo Geezirii fi
gandoota ishee akkasumas Sheekemii fi gandoota ishee kanneen hamma
Ayyaa fi gandoota isheetti jiran qabata ture. 29 Daariiwwan Minaasee irra
Beet She'aan, Ta'anaak, Megidoo fi Dooritu gandoota isaanii wajjin ture.
Sanyiiwwan Yoosef ilma Israa'el sanaas magaalaawwan kanneen keessa jiraatan.

### *Aseer*

30 Ilmaan Aasheer:
Yimnaa, Yishwaa, Yishwii fi Beriiyaa. Obboleettiin isaanii immoo Seraa jedhamti.
31 Ilmaan Beriiyaa:
Hebeerii fi Malkii'eel abbaa Birzaawitii.
32 Hebeer immoo abbaa Yaafleexii, Shomeerii, Hootaamiitii fi obboleettii isaanii Shuu'aa ti.
33 Ilmaan Yaafleex:
Phaasaak, Biimihaalii fi Ashwaati.
Isaan kunneen ilmaan Yaafleexii ti.
34 Ilmaan Shemeer:
Ahii, Rohigaa, Yehubaa fi Arraam.
35 Ilmaan obboleessa isaa Heelem:
Zoofaa, Yimnaa, Sheleeshii fi Aamaal.
36 Ilmaan Zoofaa:
Suuwaa, Harnefer, Shuu'aali, Beerii, Yimraa, 37 Bezer, Hoodi, Shamaa, Shilshaa,
Yitraanii fi Bi'eeraa.
38 Ilmaan Yeteer:
Yefunee, Fiisiphaa fi Eraa.
39 Ilmaan Ulaa:
Aaraa, Hanii'eelii fi Riiziyaa.
40 Isaan kunneen hundi gosoota Aasheerii turan; isaanis hangafoota maatiiwwanii, namoota filatamoo, loltoota jajjaboo fi bulchitoota bebbeekamoo turan. Akka galmee hidda dhaloota isaanii keessatti galmeeffametti namoonni isaanii kanneen dandeettii waraanaa qaban 26,000 turan.

# 8

### *Hidda Dhaloota Saa'ol Namicha Gosa Beniyaamii*
### *8:28-38 kwf – 1Sn 9:34-44*

1 Beniyaam ilma isaa hangafa Belaa, ilma isaa
lammaffaa Ashbeel, ilma isaa sadaffaa Aharaa,
2 ilma isaa afuraffaa Nohaa fi ilma isaa shanaffaa Raafaa dhalche.
3 Ilmaan Belaa:
Adaar, Geeraa, Abiihuud, 4 Abiishuuwaa, Na'amaan, Ahoo'aa, 5 Geeraa, Shefuufaanii fi Huuraam.
6 Isaan kun ilmaan Eehuudii kanneen hangafoota maatiiwwan warra Gebaa keessa jiraatanii boojuudhaan Maanahatitti geeffamaniiti:

7 Na'amaan, Ahiiyaa fi Geeraa; Geeraan kun abbaa Uzaa fi Ahiihudii ti; namni boojuudhaan fuudhee isaan geesses isa ture.

8 Shaharaayim erga niitota isaa Hushiimii fi Ba'araa of jalaa ari'ee booddee Mo'aab
keessatti ilmaan dhalche. 9 Niitii isaa Hoodesh irraa Yoobaab, Zibiyaa, Meeshaa,
Maalkaam, 10 Ye'uuxi, Saakiyaa fi Miirmaa dhalche; isaan kunneen ilmaan
isaa warra hangafoota maatii turanii dha. 11 Niitii isaa Hushiim irraa immoo
Abiituubii fi Elpha'al dhalche.

12 Ilmaan Elpha'alii:

Eeber, Mishaam, shemedi isa magaalaawwan Oonooniitii fi Lood gandoota
naannoo ishee jiran wajjin ijaare; 13 Beriiyaa fi Shemaa kanneen hangafoota
maatiiwwan warra Ayaaloon keessa jiraatan sanaa ta'anii jiraattota Gaatii ari'anii biyyaa baasanii dha.

14 Ahiiyoon, Shaashaaq, Yereemooti, 15 Zebaadiyaan, Aaraad, Ederi, 16 Miikaa'el,
Yishiphaa fi Yoohaan ilmaan Beriiyaa turan.

17 Zebaadiyaan, Meshulaam, Hizqii, Hebeer, 18 Yishimraay, Yizliyaa fi Yoobaab
ilmaan Elpha'alii turan.

19 Yaaqiim, Zikriin, Zabdiin, 20 Elii'eenaayi, Ziletaayi, Elii'eel, 21 Adaayaa, Beraayaa
fi Shiimraat ilmaan Shime'ii turan.

22 Yishiphaan, Eeber, Elii'eel, 23 Abdoon, Zikriin Haanaan, 24 Hanaaniyaa, Eelaam,
Antootiiyaa, 25 Yifdeyaa fi Phenuu'eel ilmaan Shaashaaq turan.

26 Shamisheraayi, Shehaariyaa, Ataaliyaa, 27 Ya'ireshiyaa, Eeliyaasii fi Zikriin
ilmaan Yiroohamii turan.

28 Isaan kunneen hundi akkuma hidda dhaloota isaanii keessatti galmeeffametti abbootii maatiitii fi hangafoota turan; isaanis Yerusaalem keessa jiraatu ture.

29 Ye'ii'eel abbaan Gibe'oonis Gibe'oon keessa jiraata ture;

maqaan niitii isaa Ma'akaa dha. 30 Ilmi isaa hangafni Abdoon jedhama; kanneen
isa booddee dhalatan immoo Zuuri, Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab, 31 Gedoor,
Ahiiyoo, Zekeerii fi 32 Miiqlooti abbaa Shime'aa turan; isaanis firoota isaanii
wajjin Yerusaalem keessa jiraatan.

33 Neer abbaa Qiishii ti; Qiish abbaa Saa'olii ti; Saa'ol immoo abbaa Yoonaataan,
Malkii-Shuwaa, Abiinaadaabiitii fi Eshba'alii ti.

34 Ilmi Yoonaataan:

Meriiba'aal abbaa Miikaa ti.

35 Ilmaan Miikaa:

Phiitoon, Meleek, Taare'aa fi Aahaaz.

36 Aahaaz abbaa Yiho'aadaa ti; Yihoo'adaan abbaa Aalemeti, Azmaawetiitii fi
Zimrii ti; Zimriin immoo abbaa Moozaa ti. 37 Moozaan abbaa Biine'aa ti;
Raafaan ilma isaa ti; Ele'aasaan ilma isaa ti; Aazeelis ilma isaa ti.

38 Aazeel ilmaan ja'a qaba ture; maqaan isaaniis:

Azriiqaam, Bookeruu, Ishmaa'eel, She'ariyaa, Obaadiyaa fi Haanaan. Isaan kunneen hundi ilmaan Aazeelii ti.

39 Ilmaan obboleessa isaa Eseeqii:

Ilmi isaa hangafni Uulaam, ilmi isaa lammaffaan Ye'uushi, ilmi isaa sadaffaan
Eliiphelexi. 40 Ilmaan Uulaam loltoota jajjaboo xiyyaan loluu danda'an turan.
Isaanis ilmaanii fi ilmaan ilmaanii hedduu walumatti nama 150 qabu turan.

Isaan kunneen hundi ilmaan Beniyaam turan.

# 9

1 Israaʼeloonni hundinuu akkuma hidda dhaloota isaaniitti kitaaba mootota Israaʼel keessatti galmeeffaman.

*Saba Yerusaalem*
*9:1-17 kwf – Nah 11:3-19*

Sabni Yihuudaa sababii cubbuu isaatiif boojiʼamee Baabilonitti geeffame.

2 Warri jalqabatti deebiʼanii lafaa fi magaalaawwan ofii isaanii keessa qubatan Israaʼeloota tokko tokko, luboota, Lewwotaa fi tajaajiltoota mana qulqullummaa ti.

3 Saboonni Yihuudaa, kan Beniyaamii, kan Efreemii fi kan Minaasee warri Yerusaalem keessa jiraachaa turan:
4 Uutaayi ilma Amiihuud, ilma Omrii, ilma Imrii, ilma Baanii ilmaan Faares ilma Yihuudaa.
5 Shelaanota keessaa:
Asaayaa ilma isaa hangaftichaa fi ilmaan isaa.
6 Zaaraahota keessaa:
Yeʼuuʼeel.
Saboonni Yihuudaa nama 690 turan.

7 Beniyaamota keessaa:
Saʼaaluu ilma Meshulaam, ilma Hoodayiwaa, ilma Hasenuuʼaa;
8 Bineeyaa ilma Yirooham;
Eelaa ilma Uzii, ilma Mikrii;
Meshulaam ilma Shefaaxiyaa, ilmaa Reʼuuʼeel, ilma Yibniyaa.
9 Sabni Beniyaam akka galmee hidda dhaloota isaanii irratti galmeeffametti nama 956 ture. Namoonni kunneen hundi hangafoota maatii isaanii turan.

10 Luboota keessaa:
Yedaaʼiyaa; Yehooyaariib; Yaakiin;
11 Azaariyaa ilma Hilqiyaa, ilma Meshulaam, ilma Zaadoq, ilma Meraayoot, ilma Ahiixuub qondaalticha itti gaafatamaa mana Waaqaa taʼe sanaa.
12 Adaayaa ilma Yerooham, ilma Phaashihuur, ilma Malkiyaa; Maʼasaayi ilma Aadiiʼeel, ilma Yahizeeraa, ilma Meshulaam, ilma Meshileemiit, ilma Imeer.
13 Baayʼinni luboota abbootii maatii turaniis 1,760 ture. Isaan kunneen namoota dandeettii qaban kanneen tajaajila mana Waaqaa keessatti itti gaafatamtoota taʼanii dha.
14 Lewwota keessaa:
Shemaaʼiyaa ilma Hashuubii, ilma Azriiqaamii, ilma Hashabiyaa namicha gosa Meraarii sanaa;
15 Baqbaqar, Hereesh, Gaalaalii fi Mataaniyaa ilma Miikaa, ilma Zikrii, ilma Asaafi;
16 Obaadiyaa ilma Shemaaʼiyaa, ilma Gaalaal, ilma Yeduutuun;
Berekiyaa ilma Aasaa, ilma Elqaanaa kan gandoota Netoofotaa keessa jiraachaa ture sana.

17 Eegdota balbalaa:
Shaluum, Aquub, Talmoon, Ahiimanii fi obboloota isaanii; Shaluum hangafa gosa
isaanii ture; 18 innis hamma ammaatti Karra Mootii kan gama baʼaa biiftuutti
ramadameera. Isaan kunneen eegdota balbala qubata Lewwotaa turan.
19 Shaluum ilmi Qooraahi ilma Ebiyaasaaf, ilma Qoraahiitii fi maatiin isaa jechuunis gosti Qoraahii kanneen isa wajjin karra eegan sun akkuma abbootiin isaanii

dur itti gaafatamtoota balbala mana bultii Waaqayyoo turan sana isaanis itti
gaafatamtoota balbala dunkaanaa ta'an.

20 Bara durii keessa Fiinehaas ilmi Ele'aazaar sun dura bu'aa eegdota balbalaa ture;
Waaqayyos isa wajjin ture.

21 Zakkaariyaas ilmi Mesheleemiyaa immoo eegduu balbala dunkaana wal ga'ii
ture.

22 Namoonni akka balbala eeganiif filataman walumatti 212 turan. Isaanis
akkuma hidda dhaloota isaaniitti gandoota isaanii keessatti galmeeffaman.

Eegdota balbalaa kanneenis Daawitii fi Saamu'eel raajichatu hojii isaaniitti isaan
ramade. 23 Isaanii fi sanyiiwwan isaanii itti gaafatamtoota eegumsa karra mana
Waaqayyoo jechuunis manicha Dunkaana jedhamu sanaa turan. 24 Eegdonni
balbalaa kunneen qixa afraniin jechuunis karaa ba'a biiftuu, karaa lixa biiftuu, karaa
kaabaatii fi kibbaatiin turan. 25 Obboloonni isaaniis yeroo yerootti gandoota isaanii
keessaa dhufanii bultii torba torba hojii isaan gargaaraa turan. 26 Dura buutota
eegdota balbalaa kanneen Lewwota turan afran garuu itti gaafatamummaa kutaalee
fi qabeenya mana Waaqaa keessaatu itti kenname. 27 Isaanis sababii manicha eeguu
qabaniif halkan halkan naannoo mana Waaqaa dhaabatanii bulu turan; ganama
ganamas manicha banuuf itti gaafatamummaa qabu turan.

28 Isaan keessaa namoonni tokko tokko to'attoota mi'a mana qulqullummaa
keessatti fayyaduu turan; isaanis mi'a kana yeroo inni gad baafamuu fi yeroo inni ol
galfamu ni lakkaa'u ture. 29 Warri kaan immoo akka mi'oota mana qulqullummaa,
daakuu isaa, daadhii wayinii isaa, zayitii isaa, ixaana isaatii fi urgooftuuwwan
eeganiif ramadaman. 30 Luboota keessaa tokko tokko immoo urgooftuuwwan walitti
makanii qopheessu ture. 31 Lewwicha Matiitiyaa jedhamu, ilma Shaluum namicha
gosa Qooraahi hangaftichatti immoo itti gaafatamummaa buddeena aarsaa tolchuutu
kenname. 32 Obboloota isaanii Qohaatota tokko tokkotti immoo itti gaafatamummaa
buddeena guyyaa Sanbataa hunda minjaala irra kaa'amu qopheessuutu kenname.

33 Faarfattoonni abbootii maatiiwwani Lewwotaa turan immoo waan halkanii fi
guyyaa itti gaafatamummaa hojii qabaniif kutaa mana qulqullummaa keessaa hin
ba'an; hojii biraattis hin waamaman ture.

34 Isaan kunneen hundinuu abbootii maatiiwwan Lewwotaa hangafoota gosaa
kanneen akkuma hidda dhaloota isaaniitti galmeeffamanii dha; isaanis Yerusaalem
keessa jiraatan.

### *Hidda dhaloota Saa'ol*
*9:34-44 kwf – 1Sn 8:28-38*

35 Ye'ii'eel abbaan Gibe'oonis Gibe'oon keessa jiraata ture.

Maqaan niitii isaa Ma'akaa dha; 36 ilmi isaa hangafni Abdoon jedhama; kanneen
isa booddee dhalatan immoo Zuuri, Qiish, Ba'aal, Neer, Naadaab, 37 Gedoor,
Ahiiyoo, Zakkaariyaas fi Miiqlooti. 38 Miiqlooti abbaa Shime'aam. Isaanis
firoota isaanii wajjin Yerusaalem keessa jiraatan.

39 Neer abbaa Qiishii ti; Qiish abbaa Saa'olii ti; Saa'ol immoo abbaa Yoonaataan,
Malkii-Shuwaa, Abiinaadaabiitii fi Eshba'alii ti.

40 Ilmi Yoonaataan:
Meriiba'aal abbaa Miikaa ti.

41 Ilmaan Miikaa:
Phiitoon, Meleek, Tahiree'aa fi Aahaaz.

42 Aahaaz abbaa Ya'iraa ti; Ya'iraan immoo abbaa Aalemeti, Azmaawetiitii fi
Zimrii ti; Zimriin immoo abbaa Moozaa ti. 43 Moozaan abbaa Biine'aa ti;
Refaayaan ilma isaa ti; Ele'aasaan ilma isaa ti; Aazeelis ilma isaa ti.

44 Aazeel ilmaan ja'a qaba ture; maqaan isaaniis:

Azriiqaam, Bookeruu, Ishmaa'eel, She'ariyaa, Obaadiyaa fi Haanaan. Isaan kunneen ilmaan Aazeelii ti.

# 10

*Saa'ol Of Ajjeese*
*10:1-12 kwf – 1Sm 31:1-13; 2Sm 1:4-12*

1 Filisxeemonni yeroo kanatti Israa'elitti waraana kaasan; Israa'eloonnis isaan
duraa baqatan; hedduun isaaniis Tulluu Gilbo'aa irratti dhuman. 2 Filisxeemonni
ittuma jabeessanii Saa'olii fi ilmaan isaa ari'an; isaanis ilmaan isaa jechuunis
Yoonaataan, Abiinaadaabii fi Malkii-Shuwaa ajjeesan. 3 Lollis naannoo Saa'olitti
baay'ee cime; warri xiyyaan lolanis isa qaqqabanii isa madeessan.

4 Saa'olis namicha mi'a lolaa isaa baatuun, "Goraadee kee luqqifadhuutii na
waraani; yoo kanaa achii namoonni dhagna hin qabamin kunneen dhufanii natti
taphatuu" jedhe.

Namichi mi'a lolaa baatuuf sun garuu waan akka malee sodaateef isa hin
waraanne; kanaafuu Saa'ol goraadee ofii isaa luqqifatee irratti kufe. 5 Namichi mi'a
lolaa baatu sun yommuu akka Saa'ol du'e argetti innis goraadee ofii isaa irratti kufee
du'e. 6 Kanaafuu Saa'olii fi ilmaan isaa sadan ni du'an; warri mana isaa hundinuus
walumaan dhuman.

7 Israa'eloonni sulula keessa turan hundi yommuu akka loltoonni baqatan, akka
Saa'olii fi ilmaan isaas dhuman arganitti magaalaawwan isaanii dhiisanii baqatan.
Filisxeemonni immoo dhufanii keessa qubatan.

8 Filisxeemonnis guyyaa itti aanutti yommuu warra dhuman irraa hidhannaa
hiikkachuu dhufanitti akka Saa'olii fi ilmaan isaa Tulluu Gilbo'aa irratti kukkufanii
jiran argan. 9 Isaanis erga hidhata Saa'olii hiikkatanii mataa isaan irraa kutanii
booddee akka isaan waaqota tolfamoo fi namoota isaaniitti oduu gaarii labsaniif
guutummaa Filisxeemiitti ergamoota ni ergan. 10 Ergasii immoo mi'a lolaa isaa mana
waaqota tolfamoo isaanii keessa, mataa isaa immoo mana Daagon waaqicha tolfamaa
sanaa keessatti ni fannisan.

11 Jiraattonni Yaabeesh Gili'aad hundi yommuu waan Filisxeemonni Saa'olin
godhan dhaga'anitti, 12 namoonni jajjaboon isaanii hundi dhaqanii reeffa Saa'olii fi
reeffa ilmaan isaa guuranii gara Yaabeeshitti ni fidan. Ergasii immoo reeffa isaanii
muka guddaa Yaabeesh keessaa tokko jalatti awwaalan; guyyaa torbas ni sooman.

13 Saa'ol sababii WAAQAYYOOF amanamaa hin ta'iniif du'e; inni dubbii WAAQAYY-
OOTIIF hin ajajamne; qooda kanaa ilaaltuu gorsa gaafate; 14 WAAQAYYOON gorsa hin
gaafanne. Kanaaf WAAQAYYO isa ajjeese; mootummaa isaas dabarsee Daawit ilma
Isseeyiitiif kenne.

# 11

*Daawit Mootii Israa'el Ta'e*
*11:1-3 kwf – 2Sm 5:1-3*

1 Israa'eloonni hundinuu Kebroonitti Daawit biratti walitti dhufanii akkana jedhan;
"Nu foonii fi dhiiga kee ti. 2 Duraan, yeroo Saa'ol mootii turetti iyyuu namni duula
loltoota Israa'el hoogganu si'i ture. WAAQAYYOO Waaqni kees, 'Situ saba koo Israa'elin
tiksa; bulchaa isaaniis ni taata' siin jedhee ture."

3 Yommuu maanguddoonni Israa'el hundi Kebroonitti Daawit Mooticha bira
dhufanitti, inni Kebroonitti fuula WAAQAYYOO duratti isaan wajjin kakuu gale. Isaanis
akkuma WAAQAYYO karaa Saamu'eeliin abdachiise sanatti dibanii Israa'el irratti
mootii isa godhan.

### *Daawit Yerusaalemin Mo’achuu Isaa*
### *11:4-9 kwf – 2Sm 5:6-10*

4 Daawitii fi Israa’eloonni hundinuu gara Yerusaalemitti jechuunis Yebuusiitti ni
qajeelan. Yebuusonni achi jiraatan garuu 5 Daawitiin, “Ati as hin seentu” jedhan.
Ta’us Daawit da’annoo Xiyoon jechuunis Magaalaa Daawit ni qabate.
6 Daawitis, “Namni duraan dursee dhaqee Yebuusota lolu ajajaa loltootaa ta’a”
jedhee ture. Yoo’aab ilmi Zeruuyaa jalqabatti ba’e; kanaafuu inni ajajaa waraanaa
ta’e.
7 Daawitis iddoo jireenya isaa da’annoo sana keessa godhate; kanaafuu da’annoon
sun Magaalaa Daawit jedhamee waamame. 8 Innis Miiloodhaa jalqabee naannoo
isheetti dallaa dhagaa ni ijaare; Yoo’aab immoo kutaa Magaalaa sanaa kan hafe
deebisee ijaare. 9 Daawitis sababii WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u isa wajjin
tureef yeruma yeroon jabaachaa dhufe.

### *Namoota Daawit Jajjabeeyyii*
### *11:10-41 kwf – 2Sm 23:8-39*

10 Namoota Daawit warra jajjaboo keessaa hangafoonni kanneenii dha; isaanis
akkuma WAAQAYYO waa’ee Israa’el dubbate sanatti mootii isa gochuuf jedhanii
saba Israa’el hunda wajjin mootummaa isaa keessatti gargaarsa guddaa godhaniif.
11 Maqaan namoota Daawit warra jajjaboo kanaa dha:
Yaashobi’aam namichi gosa Hakmooni hangafa ajajjoota sanaa ture; innis lola
tokko irratti eeboo mirmirsee namoota dhibba sadii fixe.
12 Kan isatti aanu immoo Ele’aazaar namicha gosa Ahoo’aa, ilma Doodoo ture; innis
namoota jajjaboo sadan sana keessaa tokko ture. 13 Ele’aazaar yeroo Filisxeemonni
waraanaaf walitti qabamanii turanitti Daawit wajjin Phaas Damiim ture. Loltoonnis
lafa qotiisaa kan garbuudhaan guutame tokko biratti Filisxeemota duraa baqatan.
14 Innii fi Daawit garuu lafa qotiisaa walakkaatti iddoo qabatan. Isaanis irraa
ittisuudhaan Filisxeemota fixan; WAAQAYYOS mo’annaa guddaa isaaniif kenne.
15 Utuma gareen Filisxeemotaa Sulula Refaayim keessa qubatee jiruu hangafoota
soddomman sana keessaa namoonni sadii gara kattaa holqa Adulaamitti gara Daawit
gad bu’an. 16 Yeroo sanatti Daawit da’annoo cimaa keessa ture; loltoonni Filisxeem
immoo Beetlihem turan. 17 Daawitis dheebotee, “Utuu namni tokko boolla bishaanii
kan karra Beetlihem bira jiru keessaa bishaan dhugaatii naa fidee hoo!” jedhe.
18 Kanaafuu namoonni Sadan sun qubata Filisxeemotaa keessaan darbanii boolla
bishaanii kan karra Beetlihem bira jiru keessaa bishaan waraabanii Daawitiif fidan.
Inni garuu dhuguu ni dide; qooda kanaa bishaan sana fuula WAAQAYYOO duratti
dhangalaase. 19 Innis, “Akka ani waan kana hin goone Waaqni narraa haa fageessu!
Ani dhiiga namoota lubbuu ofii isaaniitti muranii dhaqan kanaa nan dhugaa?” jedhe.
Sababii isaan lubbuu ofii isaaniitti muranii dhaqanii fidaniif Daawit bishaan sana hin
dhugne.
Egaa wanni namoonni jajjaboon sadan sun hojjetan kana ture.
20 Abiishaayi obboleessi Yoo’aab hoogganaa Sadan isaanii ture. Innis namoota
dhibba sadiitti eeboo isaa ol kaafatee isaan fixe; akkasiin innis akkuma namoota
Sadan sanaa beekamaa ta’e. 21 Inni yoo isaan keessaa tokko ta’uu baate iyyuu warra
Sadan caalaa ulfina argatee ajajaa isaanii ta’e.
22 Benaayaa ilmi Yehooyaadaa loltuun cimaan biyya Qabzi’eel sunis loltuu
mo’annaa gurguddaa argamsiise ture. Innis loltoota Mo’aab kanneen akka malee
jajjaboo ta’an lama ajjeese. Gaafa cabbiin roobe tokkos boolla keessa seenee leenca
ajjeese. 23 Namicha biyya Gibxi kan dhundhuma shan dheeratu tokko illee ni ajjeese.
Namichi Gibxi sun eeboo akka danqaraa wayya dhooftuu harkaa qabaatu iyyuu
Benaayaa bokkuudhaan isatti ba’e. Innis harka namicha Gibxi sanaatii eeboo butatee

eeboodhuma isaatiin isa ajjeese. 24 Hojiiwwan gootummaa kanneen Benaayaa ilmi
Yehooyaadaa hojjete kana fa'i; innis akkuma namoota jajjaboo sadan sanaa nama
beekamaa ture. 25 Inni namoota Soddomman sana keessaa nama kam iyyuu caalaa
ulfina guddaa argate; garuu namoota Sadan sanatti hin dabalamne. Daawitis ajajaa
eegdota ofii isaa isa godhate.

26 Namoonni jajjaboon sunis kanneenii dha:

Asaaheel obboleessa Yoo'aab,
Elhaanaan namicha Beetlihem ilma Doodoo,
27 Shamoot namicha gosa Haroor,
Heleez namicha gosa Pheloonaa,
28 Iiraa ilma Iqeesh nama Teqoo'aa,
Abii'ezer nama Anaatoot,
29 Siibekaay nama biyya Hushaa,
Iilaayi nama Ahoo'aa,
30 Maharaayi nama Netoofaa,
Heeled ilma Ba'anaa nama Netoofaa,
31 gosa Beniyaam keessaa
Iitaayi ilma Riibaay, namicha Gibe'aa,
Benaayaa nama Phiraatoon,
32 Huuraayi namicha sululoota Ga'aash,
Abii'eel namicha biyya Arbaa,
33 Azmaawet namicha Baharuum,
Eliiyaabaa namicha Sha'alboon,
34 ilmaan Haasheem namicha Gizoon,
Yoonaataan ilma Shaagee namicha Haraaraa,
35 Ahii'aam ilma Saakaar namicha Haraaraa,
Eliifaal ilma Uuri,
36 Heefer namicha Mekeeraataa,
Ahiiyaa namicha Pheloonaa,
37 Hezroo nama Qarmeloos,
Na'araayi ilma Ezbayi,
38 Yoo'eel obboleessa Naataanii,
Mibehaar ilma Hagrii,
39 Zeleq namicha gosa Amoon,
Nahaaraay namicha Bi'eeroot kan Yoo'aab ilma Zeruuyaatiif mi'a lolaa baatu sana,
40 Iiraas namicha gosa Yitraa,
Gaareeb namicha gosa Yitraa,
41 Uuriyaa namicha Heet,
Zaabaad ilma Ahilayi,
42 Aadiinaa ilma Shiizaa namicha gosa Ruubeen, inni hoogganaa Ruubeenotaatii fi
kan namoota Soddomman isa wajjin turanii ti;
43 Haanaan ilma Ma'akaa,
Yooshaafaaxi namicha Miitinaa,
44 Uziyaa namicha Ashteraati,
Shaamaa'ii fi Ye'ii'eel ilmaan Hootaam namicha Aro'eer,
45 Yedi'yaa'eel ilma Shimrii,
obboleessa isaa Yoohaa namicha Tiizii,
46 Elii'eel namicha Mahawaa,
Yeriibaayii fi Yooshabiyaa ilmaan Elna'am,

Yitmaa namicha Mo'aab,
47 Elii'eel, Oobeedii fi Ya'isii'el namicha Mezoobaa.

# 12

*Loltoonni Daawititti Dabalamuu Isaanii*

1 Namoonni kunneen warra yeroo inni sababii Saa'ol ilma Qiish sanaatiif asii
fi achi socho'uu dadhabetti Siiqlaagitti gara Daawit dhufanii dha. Isaanis
loltoota jajjaboo kanneen lola irratti isa gargaaran keessaa tokkoo dha;
2 isaan warra iddaa qabatanii harka mirgaatiin yookaan harka bitaatiin
xiyya darbachuu yookaan dhagaa furrisuu danda'anii dha; isaanis gosa
Beniyaam keessaa warra Saa'oliif firootaa dhiigaa ta'anii dha.

3 Ahii'ezer hangafa isaanii ture; sana booddee immoo Yoo'aashitu ture; lamaan isaanii iyyuu ilmaan Shemaa'aa namicha Gibe'aa sanaa turan.
Ilmaan Azmaawet Yizii'eelii fi Phelet,
Beraakiyaa, Yehuu namicha Anaatoot, 4 Yishma'iyaa namichi Gibe'oonii sun jara
Soddomman keessaa nama jabaa fi hoogganaa Soddomman isaanii ture;
Ermiyaas, Yahizii'eel, Yoohaanaan, Yoozaabaad namicha Gedeeraa, 5 El'uuzay,
Yeriimooti, Be'aaliyaa, Shemaariyaa, Shefaaxiyaa namicha Haruufaa,
6 Elqaanaa, Yishiyaa, Azari'eel, Yoozerii fi Yaashobi'aam jarreen gosa Qooraahi,
7 Yoo'elaa fi Zebaadiyaa ilmaan Yeroohaam namicha Gedoor.

8 Yeroo Daawit gammoojjiitti da'oo keessa turetti namoonni gosa Gaad tokko tokko dhufanii isaatti ni dabalaman. Isaanis loltoota ciccimoo gaachanaa fi eeboo qabachuu danda'an kanneen waraanaaf qophaa'an turan. Fuulli isaanii fuula leencaa fakkaata ture; isaan akkuma kuruphee tulluu gubbaa saffistoota turan.

9 Eezer hoogganaa isaanii ture;
Obaadiyaan lamaffaa, Eliiyaab sadaffaa,
10 Mishmanaan afuraffaa, Ermiyaas shanaffaa,
11 Ataayi ja'affaa, Elii'eel torbaffaa,
12 Yoohaanaan saddeettaffaa, Elzaabaad saglaffaa,
13 Ermiyaas kurnaffaa, Makibanaayi kudha tokkoffaa ture.

14 Jarreen gosa Gaad kunneen ajajjoota loltootaa turan; isaan keessaa inni xinnaan akka ajajaa nama dhibbaatti, inni guddaan immoo akka ajajaa nama kumaatti
hedama ture. 15 Warri ji'a jalqabaatti yeroo lagni Yordaanos guutee ededa isaa hunda irra dhangala'utti ce'anii akka namoonni sululicha keessa jiraachaa turan gara ba'a biiftuutii fi gara lixa biiftuutti baqatan godhan namootuma kanneen turan.
16 Namoonni Beniyaamiitii fi Yihuudaa tokko tokkos Daawit bira gara da'annoo
isaa ni dhufan. 17 Daawitis isaan simachuudhaaf gad ba'ee akkana jedheen; "Isin yoo na gargaaruudhaaf jettanii nagaadhaan dhuftanii jiraattan, ani ofitti isin dabalachuudhaaf qophaa'aa dha. Garuu yoo isin utuu harki koo yakka hin hojjetin diinota kootti dabarsitanii na kennuudhaaf dhuftanii jiraattan, Waaqni abbootii keenyaa ilaalee murtii haa kennu."
18 Ergasiis Hafuurri Qulqulluun Amaasaayi hoogganaa namoota Soddomman sanaa irra bu'e; innis akkana jedhe:
"Yaa Daawit, nu kan kee ti!
Yaa ilma Isseey, nu suma wajjin jirra!
Milkaa'i, milkaa'i;

warri si gargaaranis haa milkaa'an;
Waaqni kee si gargaaraatii."
Kanaafuu Daawit isaan simatee dura deemtota loltoota isaa isaan godhate.
19 Yeroo Daawit Saa'olin loluuf jedhee Filisxeemota wajjin duuletti namoonni
Minaasee tokko tokko fottoqanii gara Daawititti ni goran. Inni garuu sababii
bulchitoonni Filisxeem mari'atanii of irraa isa ari'aniif innii fi namoonni isaa
Filisxeemota hin gargaarre. Isaanis, "Yoo inni nu dhiisee gara gooftaa isaa gara
Saa'ol deebi'e wanni kun nu ficcisiisa" jedhanii turaniitii. 20 Yeroo Daawit gara
Siiqlaag deemetti namoonni Minaasee warri fottoqanii gara isaa goran kanneenii
dha: Adinaahi, Yoozaabaad, Yedii'eel, Miikaa'el, Yoozaabaad, Eliihuu fi Ziletaayi;
isaan kunneen gosa Minaasee keessatti ajajjuuwwan kumaa turan. 21 Isaanis balaa
buuftota dha'uu irratti Daawitin ni gargaaran; hundi isaanii loltoota jajjaboo fi
ajajjoota loltoota isaa turaniitii. 22 Hamma inni loltoota guddaa akka loltoota
Waaqaa qabaatutti, namoonni Daawitin gargaaruudhaaf guyyaa guyyaadhaan gara
isaa dhufaa ture.

### *Namoonni Biraas Kebroonitti Daawititti Dabalaman*

23 Baay'inni namoota lolaaf hidhatanii akkuma WAAQAYYO dubbatee turetti mootummaa Saa'ol gara Daawitiitti dabarsuudhaaf jedhanii Daawit bira gara Kebroonii dhufanii kanneenii dha:

24 Namoonni Yihuudaa kanneen gaachanaa fi eeboo qabatanii lolaaf qophaa'an 6,800;
25 namoonni Simi'oonii loltoonni waraanaaf qophaa'an 7,100;
26 namoonni Lewwii 4,600; 27 Yehooyaadaan hoogganaa maatii Aroon ture;
namoonni 3,700 isa wajjin turan; 28 Zaadoq dargaggeessa loltuu jagnaa sanaa fi maatii isaa keessaa ajajjoota waraanaa 22;
29 namoonni Beniyaam kanneen firoota Saa'olii ta'an 3,000; isaan keessaas hedduun isaanii hamma yeroo sanaatti mana Saa'oliitiif amanamoo turan;
30 namoonni Efreem warri lolatti ciccimoo fi balbala isaanii keessatti bebeekamoo ta'an 20,800;
31 walakkaa gosa Minaasee keessaa namoonni Daawitin mootii gochuudhaaf maqaan isaanii galmaa'ee dhufan 18,000;
32 namoota Yisaakor keessaa warra haala yeroo hubatanii waan Israa'eloonni gochuu qaban beekan hangafoota 200, firoota isaanii kanneen isaan jalatti bulan hunda wajjin;
33 namoota Zebuuloon keessaa loltoonni muuxannoo qaban warri meeshaa lolaa kamiin iyyuu loluuf qophaa'an kanneen Daawitin gargaaruuf garaan isaanii tokko ta'e 50,000;
34 namoota Niftaalem keessaa ajajjoota 1,000; namoota gaachanaa fi eeboo qabatan 37,000 wajjin;
35 namoota Daan kanneen lolaaf qophaa'an 28,600;
36 namoota Aasheer keessaa loltoonni muuxannoo qaban kanneen lolaaf qophaa'an 40,000;
37 gama ba'a Yordaanosiitii namoota Ruubeen, namoota Gaadiitii fi walakkaa gosa Minaasee keessaa namoota mi'a lolaa kan gosa hundaa hidhatan 120,000.

38 Isaan kunneen hundinuu loltoota waraana keessa tajaajiluudhaaf of kennanii dha.

Isaanis Israa'el hunda irratti Daawitin mootii gochuuf kutatanii gara Kebroon ni
dhufan. Israa'eloonni hafan hundinuus Daawitin mootii gochuuf yaaduma tokko

qabu turan. 39 Namoonnis sababii maatiin isaanii waan hunda isaaniif qopheessaniif
nyaachaa dhugaa guyyaa sadii Daawit wajjin achi turan. 40 Akkasumas olloonni
isaanii kanneen hamma Yisaakoriitti, Zebuuloonittii fi Niftaalemiitti jiran harrootatti,
gaalawwanitti, gaangolii fi sangootatti nyaata fe'anii fidanii ni dhufan. Sababii
Israa'el keessa gammachuun guddaan tureefis daakuun, bixxilleen ija harbuutii
fi bixxilleen ija wayinii, daadhiin wayinii, zayitiin, loonii fi hoolonni akka malee
baay'een dhi'eeffamanii turan.

# 13

*Taabota Deebisanii Fidan*
*13:1-14 kwf – 2Sm 6:1-11*

1 Daawit ajajjoota isaa hunda ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa wajjin ni
mari'ate. 2 Ergasii inni yaa'ii Israa'el guutuudhaan akkana jedhe; "Yoo wanni
kun waan gaarii isinitti fakkaatee fi yoo fedhii WAAQAYYO Waaqa keenyaa ta'e,
kottaa mee akka isaan dhufanii nutti dabalamaniif obboloota keenya kanneen
guutummaa biyya Israa'el keessatti hafanitti akkasumas lubootaa fi Lewwota isaan
wajjin magaalaawwanii fi lafa dheeda isaanii keessa jiraatanitti ergaa haa erginu.
3 Taabota Waaqa keenyaa deebifnee haa fidannu; nu bara mootummaa Saa'ol keessa
isa hin barbaaneetii." 4 Sababii wanni kun saba hundatti waan qajeelaa fakkaateef
guutummaan yaa'ii sanaa waan kana gochuudhaaf walii gale.

5 Kanaafuu Daawit taabota Waaqaa Kiriyaati Ye'aariimii fiduudhaaf Israa'eloota
Laga Shihoorii kan biyya Gibxiitti argamuu jalqabee hamma karra Hamaatiitti jiran
hunda walitti qabe. 6 Daawitii fi Israa'eloonni isa wajjin turan hundi taabota Waaqa
kiirubeelii gidduu teessoo irra jiru sanaa jechuunis taabota Maqaa WAAQAYYOOTIIN
waamamu sana achii fiduuf jedhanii gara Ba'aalaa jechuunis gara Kiriyaati Ye'aariim
ishee Yihuudaa keessaa sanaa ni dhaqan.

7 Isaanis taabota Waaqaa sana gaarii haaraatti fe'anii mana Abiinaadaabiitii ni
baasan; Uzaa fi Ahiiyoon gaarii sana oofaa turan. 8 Daawitii fi Israa'eloonni hundinuu
humna isaanii guutuudhaan faarfannaa fi baganaadhaan, kiraaraa fi dibbeedhaan,
kilillee fi malakataan fuula Waaqaa duratti gammadanii shuubbisaa.

9 Yommuu isaan oobdii Kiidoon bira ga'anitti waan sangoonni gufataniif Uzaan
taabota sana qabuuf harka isaa hiixate. 10 Sababii Uzaan taabota irra harka isaa
kaa'eef dheekkamsi WAAQAYYOO Uzaatti boba'e; innis isa rukute; kanaafuu inni
achumatti fuula Waaqaa duratti ni du'e.

11 Daawitis sababii WAAQAYYO akka malee Uzaatti dheekkameef ni aare; iddoon sun
hamma har'aatti Phereez Uzaa* jedhamee waamama.

12 Daawitis gaafa sana Waaqa sodaatee, "Ani akkamittan taabota Waaqaa gara
mana kootti fiduu danda'a?" jedhee gaafate. 13 Innis akka taabonni isa wajjin
Magaalaa Daawit keessa jiraatuuf ofitti hin fudhanne. Qooda kanaa gara mana
Oobeed Edoom namicha Gitii sanaatti geesse. 14 Taabonni Waaqaas ji'a sadii maatii
Oobeed Edoom wajjin mana isaa keessa ture; WAAQAYYOS warra mana isaa jiraatanii
fi waan inni qabu hunda ni eebbise.

# 14

*Mana Daawitii fi Maatii Isaa*
*14:1-7 kwf – 2Sm 5:11-16; 1Sn 3:5-8*

1 Yeroo kanatti Huuraam mootiin Xiiroos akka isaan Daawitiif masaraa mootum-
maa ijaaraniif ergamoota wajjin muka birbirsaa, warra dhagaa soofanii fi warra

---

* **13:11** 13:11 Phereez Uzaa jechuun galaafatamuu jechuu dha.

ogummaa hojii mukaa qaban gara Daawititti erge. 2 Daawitis akka Waaqayyo saba
Israa'el irratti mootii godhee jabeessee isa dhaabee fi akka mootummaan isaas
sababii saba Israa'eliif akka malee guddate ni beeke.
3 Daawitis Yerusaalem keessatti niitota dabalee fuudhee ilmaanii fi intallan dabal-
ataa dhalche. 4 Maqaan ijoollee isaa kanneen achitti isaaf dhalataniis: Shamuu'aa,
Shobaab, Naataan, Solomoon, 5 Yibehaar, Eliishuuwaa, Eliiphelexi, 6 Noogaa, Nefeg,
Yaafiiyaa, 7 Eliishaamaa, Beeliyaadaa fi Eliiphelexi jedhamu.

*Daawit Filisxeemota Mo'ate*
*14:8-17 kwf – 2Sm 5:17-25*

8 Filisxeemonni yommuu akka Daawit dibamee guutummaa Israa'el irratti mootii
ta'e dhaga'anitti humna guutuudhaan isa barbaacha ol ba'an; Daawit garuu waan
kana dhaga'ee isaanitti ba'e. 9 Yeroo kanatti Filisxeemonni dhufanii Sulula Refaayim
weeraran; 10 kanaafuu Daawit, "Ani ba'ee Filisxeemota dha'uu? Ati dabarsitee harka
kootti isaan kennitaa?" jedhee Waaqa ni gaafate.
Waaqayyos, "Ba'i; ani dhugumaan Filisxeemota dabarsee harka keetti nan
kennaatii" jedhee deebiseef.
11 Kanaafuu Daawitii fi namoonni isaa gara Ba'aal Pheraaziim ol ba'an; achittis
isaan mo'ate. Innis, "Akkuma bishaan mana isaa cabsee yaa'u sana Waaqni harka
kootiin diinota koo cabsee ba'eera" jedhe. Kanaafuu iddoon sun Ba'aal Pheraaziim
jedhamee waamame. 12 Filisxeemonni waaqota isaanii tolfamoo achitti ni dhiisan;
Daawit immoo akka waaqonni sun ibiddaan gubaman ni ajaje.
13 Filisxeemonni amma illee deebi'anii sulula sana weeraran; 14 kanaafuu Daawit
ammas Waaqa gaafate; Waaqnis akkana jedhee deebiseef; "Qajeelumatti itti ol
hin ba'in; garuu isaan marsiitii muka qilxuu duratti isaan waraani. 15 Akkuma
fiixee muka qilxuu irraan sagalee duulaa dhageesseen loluuf ba'i; Waaqni loltoota
Filisxeem dha'uudhaaf si dura ba'eera jechuudhaatii." 16 Kanaafuu Daawit akkuma
Waaqni isa ajaje sana ni godhe; isaanis Gibe'oonii jalqabanii hamma Geeziritti
loltoota Filisxeem ni dha'an.
17 Akkasiin maqaan Daawit biyya hunda keessatti beekame; Waaqayyos akka
saboonni hundinuu isa sodaatan godhe.

# 15

*Taabonni Gara Yerusaalem Fidame*
*15:25–16:3 kwf – 2Sm 6:12-19*

1 Daawit erga ofii isaatiif Magaalaa Daawit keessatti mana ijaarratee booddee
taabota Waaqaatiif lafa qopheessee dunkaana dhaabe. 2 Ergasiis Daawit, "Waan
Waaqayyo akka isaan taabota Waaqaa baatanii bara baraan fuula isaa dura
tajaajilaniif isaan filateef, Lewwota malee namni biraa taabota Waaqayyoo hin
baatin" jedhee ajaje.
3 Daawitis taabota Waaqayyoo iddoo qopheesseef sanatti fiduuf Israa'eloota hunda
Yerusaalemitti walitti qabe.

4 Innis sanyiiwwan Aroonii fi Lewwota walitti waame; isaanis:
5 Ilmaan Qohaati keessaa,
Uurii'eel hoogganaa sanaa fi firoota isaa nama 120;
6 ilmaan Meraarii keessaa,
Asaayaa hoogganaa sanaa fi firoota isaa 220;
7 ilmaan Geershoom keessaa,
Yoo'eel hoogganaa sanaa fi firoota isaa 130;
8 ilmaan Eliisaafaan keessaa,

Shemaa’iyaa hoogganaa sanaa fi firoota isaa 200;
9 ilmaan Kebroon keessaa,
Elii’eel hoogganaa sanaa fi firoota isaa 80;
10 ilmaan Uzii’eel keessaa,
Amiinaadaab hoogganaa sanaa fi firoota isaa nama 112.

11 Ergasiis Daawit luboota jechuunis Saadoqii fi Abiyaataar akkasumas Lewwota
jechuunis Uurii’eel, Asaayaa, Yoo’eel, Shemaa’iyaa, Elii’eelii fi Amiinaadaabin ni
waame; 12 akkanas isaaniin jedhe; “Isin hangafoota maatiiwwan Lewwotaa ti; isinii fi
Lewwonni akka keessanii of qulqulleessaa; ergasiis taabota WAAQAYYO Waaqa Israa’el
gara iddoo ani qopheesseefitti fidaa. 13 Sababii isin Lewwonni yeroo jalqabaatti
taabota sana hin fidiniif WAAQAYYO Waaqni keenya nutti dheekkame. Nu akka
seerri ajajutti isa hin barbaaddanneetii.” 14 Kanaafuu luboonnii fi Lewwonni taabota
WAAQAYYO Waaqa Israa’el sana fiduuf of qulqulleessan. 15 Lewwonni akkuma kan
Museen dubbii WAAQAYYOOTIIN ajajetti taabota Waaqaa sana danqaraadhaan gatiittii
isaaniitti ni baatan.

16 Daawitis akka isaan meeshaa muuziiqaatiin jechuunis kiraaraan, baganaa
fi kililleedhaan faarfannaa gammachuu faarfataniif akka isaan obboloota isaanii
muudaniif Lewwota dura deemtotatti ni hime.

17 Kanaafuu Lewwonni Heemaan ilma Yoo’eel muudatan; obboloota isaa keessaa
immoo Asaaf ilma Berekiyaa, obboloota isaanii gosa Meraarii keessaa Eetaan ilma
Qushaayaa ni muuddatan; 18 isaan wajjinis obboloota isaanii kanneen isaanitti aan-
nan: Zakkaariyaas, Ya’azii’eel, Shemiiraamoot, Yehii’eel, Unnii, Eliiyaab, Benaayaa,
Ma’aseyaa, Matiitiyaa, Eliipheleehuu, Miiqneyaa, Oobeed Edoomii fi Ye’ii’eel eegdota
balbalaa turan.

19 Faarfattoonni Heemaan, Asaafii fi Eetaan jedhaman akka kilillee naasi-
itiin sagalee isaanii ol fudhatanii faarfannaa dhageessisaniif ni muudaman;
20 Zakkaariyaas, Azii’eel Shemiiraamoot, Yehii’eel, Unnii, Eliiyaabi, Ma’aseyaanii fi
Benaayaa immoo akka seera *alamootiitti** kiraaraan faarfatu ture; 21 akkasumas
Matiitiyaan, Eliipheleehuu, Miiqneyaan, Oobeed Edoom, Ye’ii’eel, Azaaziyaan akka
seera *shiimiiniitiitti*† baganaa taphatu ture. 22 Kenaaniyaan hangaftichi Lewwotaa itti
gaafatamaa faarfannaa ture; innis itti gaafatamummaa kana sababii ogummaa isaa
qabuuf fudhate.

23 Berekiyaa fi Elqaanaan eegdota balbala taabotaa turan. 24 Luboonni jechuunis,
Shebaniyaan, Yooshaafaaxi, Naatnaa’el, Amaasaayi, Zakkaariyaas, Benaayaanii fi
Elii’ezer fuula taabota Waaqaa duratti malakata afuufu ture. Oobeed Edoomii fi
Yehiyaan immoo eegdota balbala taabotaa turan.

25 Kanaafuu Daawitii fi maanguddoonni Israa’el akkasumas ajajjuuwwan kumaa
gammachuudhaan taabota kakuu WAAQAYYOO sana mana Oobeed Edoomiitii fiduu
dhaqan. 26 Isaanis sababii Waaqni Lewwota taabota kakuu WAAQAYYOO baatan
gargaareef korommii loonii torbaa fi korbeeyyii hoolaa torba aarsaa godhan.
27 Daawitis wandaboo haphii quncee talbaa irraa hojjetame kan akka uffata
Lewwonni taabota sana baatan, kan akka faarfattoonnii fi Kenaaniyaan qajeelchaan
faarfannaa faarfattootaa uffatan sanaa uffatee ture. Daawitis dirata quncee talbaa
irraa hojjetames uffatee ture. 28 Akkasiinis Israa’el hundi gaanfa korbeessa hoolaatii
fi malakata afuufaa, kilillee dhageessisaa, kiraaraa fi baganaadhaan sirbaa taabota
kakuu WAAQAYYOO sana ni fidan.

* **15:20** 15:20 Alamootiin gosa muuziiqaa ti. † **15:21** 15:21 Shiimiiniitiin gosa muuziiqaa ti.

29 Yeroo taabonni kakuu WAAQAYYOO Magaalaa Daawit seenutti Miikaal intalli Saa’ol
foddaa keessaan ilaalaa turte. Isheenis akka Daawit Mootichi shuubbisee gammadu
yommuu argitetti garaa ishee keessatti isa tuffatte.

# 16

1 Isaanis taabota Waaqaa fidanii dunkaana Daawit dhaabeef keessa ni kaa’an;
aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa fuula Waaqaa duratti ni dhi’eessan. 2 Daawitis erga
aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa dhi’eessee booddee maqaa WAAQAYYOOTIIN namoota
ni eebbise. 3 Ergasiis inni tokkoo tokkoo nama Israa’eliitiif, dhiiraa fi dubartiif
buddeena tokko tokko, gumaa foonii tokko tokkoo fi bixxillee ija wayinii tokko tokko
ni kenne.
4 Innis akka isaan fuula taabota WAAQAYYOO duratti tajaajilaniif, akka isaan
WAAQAYYO Waaqa Israa’el waammataniif, akka isa galateeffatanii fi akka isa jajataniif
Lewwota tokko tokko ni muuddate; 5 isaanis Asaaf hangafticha, Zakkaariyaas
itti aanaa isaa, itti fufees Ye’ii’eel, Shemiiraamoot, Yehii’eel, Matiitiyaa, Eliiyaab,
Benaayaa, Oobeed Edoomii fi Ye’ii’eel fa’i turan. Jarri kunneen kiraaraa fi baganaa
taphatu ture; Asaaf immoo kilillee dhageessisa ture; 6 Benaayaa fi Yahizii’eel luboonni
yeroo hunda fuula taabota kakuu Waaqaa duratti malakata afuufu turan.

*Faarfannaa Daawit Kan Galataa*
*16:8-22 kwf – Far 105:1-15*
*16:23-33 kwf – Far 96:1-13*
*16:34-36 kwf – Far 106:1,47-48*

7 Daawitis gaafa sana akka Asaafii fi michoota isaa faarfannaa galataa kana
WAAQAYYOOF faarfataniif jalqabatti ajaja kenne:

8 WAAQAYYOOF galata galchaa; maqaa isaas waammadhaa;
waan inni hojjetes saboota gidduutti beeksisaa.
9 Isaaf faarfadhaa; faarfannaadhaan isa galateeffadhaa;
waa’ee hojii isaa isa dinqisiisaa hundaas odeessaa.
10 Maqaa isaa qulqulluu sanaan boonaa;
garaan warra WAAQAYYOON barbaadanii haa gammadu.
11 WAAQAYYOO fi humna isaa barbaaddadhaa;
yeroo hunda fuula isaa barbaadaa.
12 Dinqii inni hojjete, hojii isaa dinqii sanaa fi
murtii inni labse yaadadhaa;
13 isin tajaajiltoonni isaa, warri sanyii Israa’el taatan,
isin filatamtoonni isaa, ilmaan Yaaqoobis kana yaadadhaa.

14 Inni WAAQAYYO Waaqa keenya;
murtiin isaas lafa hunda irra jira.
15 Inni kakuu isaa bara baraan, waadaa gale sanas
dhaloota kumaaf ni yaadata;
16 inni kakuu Abrahaam wajjin gale,
kakuu Yisihaaqiif kakates ni yaadata.
17 Kanas Yaaqoobiif seera,
Israa’eliif immoo kakuu bara baraa godhee
akkana jedhee mirkaneesseera; innis:
18 “Ani biyya Kana’aan qooda ati dhaaltu godhee,
siif nan kenna” jedhe.

19 Isaan yeroo lakkoobsaan xinnoo turanitti,

dhugumaanuu xinnoo fi biyyattii keessattis keessummoota turanitti,
20 sabaa gara sabaatti, mootummaa tokkoo
gara mootummaa biraatti jooran.
21 Inni akka namni tokko iyyuu isaan cunqursu hin eeyyamne;
sababii isaaniitiifis akkana jedhee mootota ifate:
22 "Dibamtoota koo hin tuqinaa;
raajota koos hin miidhinaa."

23 Lafti hundinuu WAAQAYYOON faarfadhaa;
fayyisuu isaas guyyuma guyyaan labsaa.
24 Ulfina isaa saboota gidduutti,
hojii isaa dinqisiisaa sana immoo namoota hunda keessatti labsaa.
25 WAAQAYYO guddaadhaatii galanni baay'een isaaf ni mala;
inni waaqota hundaa olittis sodaatamuu qaba.
26 Waaqonni saboota ormaa hundinuu waaqota tolfamoodhaatii;
WAAQAYYO garuu samiiwwan uume.
27 Miidhaginnii fi surraan fuula isaa dura jiru;
jabinnii fi gammachuunis iddoo jireenya isaa jiru.
28 Yaa maatiiwwan sabootaa, WAAQAYYOOF kennaa;
ulfinaa fi jabina WAAQAYYOOF kennaa.
29 Ulfina maqaa isaatiif malu WAAQAYYOOF kennaa.
Aarsaa fidaatii fuula isaa duratti dhi'aadhaa.
bareedina qulqullummaa isaatiin WAAQAYYOON waaqeffadhaa.
30 Isin lafti hundinuu fuula isaa duratti holladhaa!
Addunyaan jabaattee dhaabatteerti; sochoofamuus hin dandeessu.

31 Samiiwwan haa ililchan; laftis haa gammaddu;
isaan saboota gidduutti, "WAAQAYYO mo'eera!" haa jedhan.
32 Galaannii fi wanni isa keessa jiru hundinuu haa huursu;
dirreewwanii fi wanni isaan irra jiran hundinuu haa gammadani!
33 Mukkeen bosonaa haa faarfatan;
isaan gammachuudhaan fuula WAAQAYYOO duratti haa faarfatan;
inni lafatti muruudhaaf ni dhufaatii.

34 WAAQAYYOOF galata galchaa; inni gaariidhaatii;
jaalalli isaa bara baraan jiraata.
35 Akkana jedhaatii iyyaa; "Yaa Waaqayyo,
Fayyisaa keenya, ati nu baasi;
akka nu maqaa kee qulqulluu sana galateeffannuuf,
akka galata keetiin of jajnuufis, walitti nu qabiitii saboota ormaa jalaa nu oolchi."
36 WAAQAYYO Waaqa Israa'eliitiif
bara baraa hamma bara baraatti galanni haa ga'u.
Kana irratti namni hundinuu, "Ameen; WAAQAYYO haa galatoomu" jedhe.

37 Daawitis akka isaan fuula taabotaa dura yeroo hunda tajaajilaniif, Asaafii
fi obboloota isaa achuma fuula taabota kakuu WAAQAYYOO duratti isaan dhiise.
38 Akkasumas Oobeed Edoomii fi warra isaan wajjin hojjetan jaatamii saddeettan
akka isaan wajjin tajaajilaniif achitti dhiise. Oobeed Edoom ilmi Yeduutuuniitii fi
Hoosaan eegdota balbalaa turan.
39 Daawit Zaadoq lubichaa fi luboota isa wajjin hojjetan kaan dunkaana WAAQAYYOO
qulqulluu kan Gibe'oon keessatti gaara sagadaa irratti argamu biratti dhiise; 40 kunis

isaan akkuma waan Seera WAAQAYYOO kan inni Israa'eliif kenne hunda keessatti
barreeffame sanaatti yeroo hunda galgalaa fi ganama iddoo aarsaa gubamuu irratti
aarsaa gubamu WAAQAYYOOF akka dhi'eessaniif. 41 Isaan wajjinis Heemaanii fi
Yeduutuun akkasumas warra akka, "Jaalalli isaa bara baraan jiraata" jedhanii
WAAQAYYOOF galata galchaniif filatamanii maqaan isaanii beekame biraatu ture.
42 Heemaanii fi Yeduutuun sagalee malakataatiif kilillee dhageessisuu fi akkasumas
meeshaa muuziiqaa kan Waaqaa irratti itti gaafatamtoota turan. Ilmaan Yeduutuun
immoo karra eegan.

43 Ergasii namoonni hundinuu achii ka'anii tokkoon tokkoon isaanii gara mana ofii
isaatti galan; Daawit immoo maatii ofii eebbisuuf gara manaatti ni deebi'e.

# 17

### *Abdii Waaqayyo Daawitin Abdachiise*
### *17:1-15 kwf – 2Sm 7:1-17*

1 Daawit erga masaraa isaa keessa jiraachuu jalqabee booddee Naataan raajichaan,
"Ani kunoo mana birbirsaan ijaarame keessan jiraadha; taabonni kakuu WAAQAYYOO
garuu dunkaana keessa jiraata" jedhe.

2 Naataan immoo deebisee Daawitiin, "Waaqni si wajjin jiraatii waan garaa keetti
yaadde kam iyyuu godhi" jedhe.

3 Halkan sana garuu dubbiin Waaqayyoo akkana jedhee gara Naataan dhufe:

4 "Dhaqiitii akkana jedhii garbicha koo Daawititti himi; 'WAAQAYYO akkana jedha:
Kan mana ani keessa jiraadhu naaf ijaaru si'i miti. 5 Ani gaafan Israa'elin Gibxii
baasee jalqabee hamma har'aatti mana keessa hin jiraanne. Ani dunkaana tokkoo
irraa gara isa kaaniitti, iddoo bultii tokkoo irraa gara iddoo bultii isa kaaniitti
darbaan ture. 6 Ani iddoon Israa'eloota hunda wajjin naanna'aa ture kamitti iyyuu
hooggantoota akka isaan saba koo eeganiif ajaje keessaa nama tokkoon iyyuu, "Isin
maaliif mana birbirsaa naaf hin ijaarre?" jedhee beekaa?'

7 "Egaa amma akkana jedhii garbicha koo Daawititti himi; 'WAAQAYYOON Waan
Hunda Danda'u akkana jedha: Ani akka ati bulchaa saba koo Israa'el taatuuf, lafa
tikaatii fi bushaayee faana deemuu keessaan si fudhadhe. 8 Ani lafa ati dhaqxe
hundatti si wajjinin ture; diinota kee hundas fuula kee duraa balleesseera. Ammas
ani maqaa kee akkuma maqaa namoota addunyaa irratti akka malee gurguddaa
ta'anii nan godha. 9 Ani akka isaan mana ofii isaanii qabaatanii fi akka isaan si'achi
hin raafamneef saba koo Israa'eliif lafa kennee isaan nan dhaaba. Namoonni
hamoon akka jalqabatti godhan sana deebi'anii isaan hin cunqursan; 10 akka yeroo
ani saba koo Israa'el irratti abbootii murtii muudee as godhan sana illee hin
godhan; ani diinota kee hundas siifin garboomsa.

" 'Ani akka WAAQAYYO mana siif ijaaru sittin hima: 11 Yommuu barri jireenya
keetii dhumee ati abbootii keetti dabalamuuf dhaqxutti ani akka inni iddoo kee
bu'uuf sanyii kee keessaa, ilmaan kee keessaa tokko nan kaasa; mootummaa isaa
illee jabeessee nan dhaaba. 12 Kan mana naaf ijaaru isa; anis teessoo isaa bara
baraan jabeessee nan dhaaba. 13 Ani isaaf abbaa nan ta'a; innis ilma naa ta'a. Ani
akka namicha si dura ture sana irraa fudhadhe, jaalala koo gonkumaa isa irraa hin
fudhadhu. 14 Ani mana koo fi mootummaa koo irratti bara baraan isa nan muuda;
teessoon isaas bara baraan jabaatee ni dhaabata.' "

15 Naataanis dubbii mul'ata kanaa hunda Daawititti hime.

### *Kadhannaa Daawit*
### *17:16-27 kwf – 2Sm 7:18-29*

16 Ergasii Daawit mootichi ol seenee fuula WAAQAYYOO dura taa'ee akkana jedhe:

“Yaa WAAQAYYO, yaa Waaqi, kan ati asiin na geesse, ani eenyu? Maatiin koos
maali? 17 Yaa Waaqi, ati akka waan wanni kun fuula kee duratti quubsaa hin
ta’iniitti ilaaltee waa’ee mana garbicha keetii kan fuul duraa illee dubbatte. Yaa
WAAQAYYO, yaa Waaqi, ati akka waan ani nama hunda caalaa kabajamaa ta’eetti
na ilaalte.

18 “Waan ati garbicha kee ulfeessiteef Daawit kana caalaa maal jechuu danda’a?
Ati garbicha kee ni beektaatii. 19 Yaa WAAQAYYO, ati sababii garbicha keetiitii fi
akkuma fedhii keetiitti waan guddaa kana goote; akka waadaawwan gurguddaan
kunneenis beekaman gooteerta.

20 “Yaa WAAQAYYO, kan akka keetii tokko iyyuu hin jiru; akka nu gurruma
keenyaan dhageenyetti si malee Waaqni biraa hin jiru. 21 Sabni akka saba kee
Israa’el kan Waaqni saba lafa irra jiraatu keessaa saba tokkicha ofii isaatiif
furachuu fi ofii keetiitiifis maqaa tolfachuuf jettee fuula saba keetii duraa saboota
ari’uudhaan dinqiiwwan gurguddaa fi sodaachisaa hojjechuudhaaf ba’e, kan ati
Gibxii baafte sanaa tokko iyyuu jiraa? 22 Ati saba kee Israa’elin bara baraan kan
ofii keetii goote; Yaa WAAQAYYO, ati Waaqa isaanii taateerta.

23 “Ammas yaa WAAQAYYO, waadaan ati garbicha keetii fi mana isaatiif galte sun
bara baraan jabaatee haa dhaabatu. Ati akkuma waadaa galte sana raawwadhu;
24 kunis akka maqaan kee jabaatee dhaabatee, bara baraanis guddaa ta’uuf. Kana
irratti namoonni, ‘WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u, Israa’el irratti Waaqa; inni
Waaqa Israa’el!’ ni jedhu. Manni garbicha kee Daawitis fuula kee duratti jabaatee
ni dhaabata.

25 “Yaa Waaqa ko, ati akka mana isaaf ijaartu garbicha keetti mul’ifteerta.
Kanaafuu garbichi kee si kadhachuudhaaf ija jabina argateera. 26 Yaa WAAQAYYO,
ati Waaqa! Ati waan gaarii kana garbicha keetiif waadaa galteerta. 27 Akka manni
isaa bara baraan jabaattee fuula kee dura dhaabatuuf ammas mana garbicha keetii
eebbisuun fedhii kee ta’eera; yaa WAAQAYYO sababii ati isa eebbifteef, inni bara
baraan ni eebbifama.”

# 18

*Mo’annoowwan Daawit*
*18:1-13 kwf – 2Sm 8:1-14*

1 Ergasii Daawit Filisxeemota mo’atee of jala isaan galfate; Gaatii fi gandoota
naannoo ishee jiranis harka Filisxeemotaatii baase.

2 Daawit Mo’aabotas ni mo’ate; isaanis isa jalatti bulanii gibira fidaniif.

3 Kana irrattis Daawit yeroo Laga Efraaxiis bira yaadannoo ofii dhaabbachuu
dhaqetti, hamma Hamaatiitti deemee Hadaadezer mooticha Zoobaa mo’ate.
4 Daawitis gaariiwwan waraanaa isaa kuma tokko, abbootii fardaa kuma torbaa fi
loltoota lafoo kuma digdama isa irraa fudhate. Innis fardeen gaariiwwanii dhibba
tokko qofa hambisee kanneen hafan hunda mogolee kukkute.

5 Yeroo warri Sooriyaa kanneen Damaasqoo jiraatan Hadaadezer mooticha Zoobaa
gargaaruuf dhufanittis, Daawit isaan keessaa nama kuma digdamii lama fixe.
6 Ergasiis kutaa bulchiinsa Damaasqoo kan biyya Sooriyaa keessa qubata loltootaa
dhaabbate; warri Sooriyaas isa jalatti bulanii gibira fidaniif. WAAQAYYOS Daawitiif
lafa inni dhaqe hundatti moo’icha kenne.

7 Daawitis gaachana warqee kan ajajjoonni loltoota Hadaadezer harkatti qabatan
fudhatee gara Yerusaalem fide. 8 Daawit magaalaawwan Hadaadezer jechuunis
Xibihaatii fi Kuuni naasii akka malee baay’ee fudhate; Solomoon immoo Gaanii
naasii, utubaawwanii fi mi’oota naasii garaa garaa naasii sana irraa hojjete.

[9] Too'uun mootiin Hamaati yommuu akka Daawit guutummaa loltoota Hadaadezer
mooticha Zoobaa mo'ate dhaga'etti, [10] akka inni sababii ol aantummaa Daawit
Mootichi waraana keessatti Hadaadezer irratti argateetiif harka isa fuudhee dhaamsa
gammachuu isaaf dabarsuuf ilma ofii Hadooraamin gara isaatti erge; Hadaadezer
Too'uu wajjin wal waraanaa tureetii. Adooraamis kennaa gosa hundaa warqee irraa,
meetii fi naasii irraa hojjetaman fideef.
[11] Daawit Mootichis akkuma meetii fi warqee saboota Edoom, Mo'aab, Amoonota,
Filisxeemotaa fi Amaaleq hunda irraa booji'ee ture godhe sana mi'oota kanneen illee
WAAQAYYOOF addaan baase.
[12] Abiishaayi ilmi Zeruuyaa Sulula Soogiddaa keessatti Edoomota kuma kudha
saddeet fixe. [13] Innis Edoom keessa qubata loltootaa dhaabbate; Edoomonni
hundinuus Daawitiif ni garbooman. WAAQAYYOS lafa inni dhaqe hundatti Daawitiif
mo'annaa ni kenne.

### *Qondaaltota Daawit*
### *18:14-17 kwf – 2Sm 8:15-18*

[14] Daawit guutummaa Israa'el irratti mootii ta'ee saba isaa hundaaf murtii qajeelaa
fi qajeelummaadhaan hojjete.

[15] Yoo'aab ilmi Zeruuyaa hoogganaa loltootaa ture;
Yehooshaafaax ilmi Ahiiluud immoo galmeessaa ture;
[16] Zaadoq ilmi Ahiixuubii fi Abiimelek ilmi Abiyaataar luboota turan;
Shaafisaan immoo barreessaa ture;
[17] Benaayaa ilmi Yehooyaadaa hoogganaa Kereetotaa fi Pheletotaa ture;
ilmaan Daawit immoo mootichatti aananii qondaaltota hangafoota turan.

# 19

### *Waraana Amoonota Irratti Baname*
### *19:1-19 kwf – 2Sm 10:1-19*

[1] Ergasiis Naahaash mootiin Amoonotaa ni du'e; ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii
ta'e. [2] Daawitis, "Sababii abbaan isaa naa arjoomeef anis Haanuun ilma Naahaashiif
nan arjooma" jedhee yaade. Kanaafuu Daawit gadda waa'ee abbaa isaatiif itti
dhaga'ame isaa ibsuuf Haanuunitti ergamoota ni erge.
Yommuu namoonni Daawit dhaamsa gaddaa itti himuuf Haanuun bira biyya
Amoonotaa dhaqanitti, [3] qondaaltonni Amoonotaa Haanuuniin, "Ati sababii Daawit
akka isaan dhaamsa gaddaa sitti himaniif namoota sitti ergeef inni waan abbaa keetiif
ulfina kenne seetaa? Ergamoonni isaa biyyattii qorachuu, basaasanii qabachuuf gara
kee dhufan mitii?" jedhan. [4] Kanaafuu Haanuun namoota Daawit sana qaqqabee
rifeensa irraa haadee wayyaa isaanii illee teessuma irratti cicciree of irraa isaan erge.
[5] Daawit yommuu namni tokko dhufee waa'ee namoota sanaa isatti himetti, sababii
isaan akka malee qaana'aniif ergamoota gara isaaniitti erge. Mootichis "Isin hamma
areedni keessan isinii guddatutti Yerikoo turaatii ergasii deebi'aa kottaa" jedheen.
[6] Amoononni yommuu akka Daawit isaan xireeffate hubatanitti Haanuunii fi
Amoononni Phaadaan Arraamii, Araama'aakaa fi Zoobaadhaa gaariiwwan kire-
effachuuf meetii taalaantii* kuma tokko ni ergan. [7] Isaanis gaariiwwan kuma
soddomii lamaa fi ooftota gaariiwwanii, akkasumas mootii Ma'akaatii fi loltoota
isaa kanneen dhufanii Meedebaa bira qubatan sana kireeffatan; Amoononni immoo
magaalaawwan isaaniitii walitti qabamanii waraanatti ni qajeelan.

---

* **19:6** 19:6 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34.

8 Daawit yommuu waan kana dhaga’etti Yoo’aabii fi guutummaa loltootaa ni
erge. 9 Amoononni immoo ba’anii karra magaalaa isaanii irratti waraanaaf hiriiran;
mootonni dhufan sun immoo kophaa isaanii dirree irra turan.

10 Yoo’aabis akka fuula isaa duraa fi dugda isaa duubaan waraanni jiru ni
arge; kanaafuu loltoota Israa’el keessaa namoota bebeekamoo filatee adda loltoonni
Sooriyaa jiranitti bobbaase. 11 Namoota hafan immoo ajaja obboleessa isaa Abiishaayi
jalatti ni hiriirse; isaanis Amoonotatti duulan. 12 Yoo’aabis akkana jedhe; “Yoo warri
Sooriyaa natti jabaatan ati na gargaarta; yoo Amoononni sitti jabaatan immoo ani
sin gargaara. 13 Jabaadhaa saba keenyaa fi magaalaawwan Waaqa keenyaatiif garaa
kutannaadhaan haa lollu. WAAQAYYOS waan fuula isaa duratti gaarii ta’e ni godha.”

14 Ergasii Yoo’aabii fi loltoonni isa wajjin turan warra Sooriyaa waraanuuf fuul
duratti ni qajeelan; jarris fuula isaa duraa baqatan. 15 Amoononni yommuu akka
namoonni Sooriyaa baqatan arganitti isaanis fuula obboleessa isaa Abiishaayi duraa
baqatanii magaalaa seenan. Akkasiin Yoo’aab Yerusaalemitti deebi’e.

16 Namoonni Sooriyaa yommuu akka Israa’eloonni isaan mo’atan arganitti erg-
amoota erganii namoota Sooriyaa kanneen Laga Efraaxiisiitiin gamaa fichisiisan;
Shoofaki ajajaan loltoota Hadaadezer sun isaan hoogganaa ture.

17 Daawitis yommuu wanni kun isatti himametti, Israa’eloota hunda walitti qabee
Yordaanos ce’e; innis dursee dhaqee fuula isaanii duraan toora lolaa ni qabate.
Daawitis warra Sooriyaa waraanuuf loltoota isaa hiriirse; namoonni Sooriyaas
ni lolaniin. 18 Isaan garuu Israa’eloota duraa baqatan; Daawitis namoota gaarii
waraanaa oofan kuma torbaa fi loltoota lafoo kuma afurtama fixe. Ajajaa loltoota
isaanii Shoofaki illee ni ajjeese.

19 Tajaajiltoonni Hadaadezeriis yommuu akka Israa’elootaan mo’ataman arganitti
Daawit wajjin nagaa uumanii isa jalatti bulan.

Kanaafuu namoonni Sooriyaa ergasii Amoonota gargaaruu hin feene.

# 20

### *Qabamuu Magaalaa Raabbaa*
*20:1-3 kwf – 2Sm 11:1; 12:20-21*

1 Birraa keessa yeroo mootonni waraanaaf ba’anitti Yoo’aab humnoota waraanaa
qajeelchee biyya Amoonotaa barbadeesse; ergasiis dhaqee Rabbaa marse; Daawit
garuu Yerusaalemitti hafe. Yoo’aabis Raabbaa waraanee daaraa ishee godhe.
2 Daawitis mataa mootii isaanii irraa gonfoo fudhate; gonfoon sun hamma warqee
taalaantii tokkoo ulfaatee dhagaawwan gati jabeeyyiis of irraa qaba ture; gonfichis
mataa Daawit irra kaa’ame. Innis magaalaa sana keessaa boojuu akka malee baay’ee
fudhatee 3 namoota achi keessa turanis gad yaasee akka isaan magaaziidhaan, gasoo
sibiilaatii fi qottoodhaan hojii hojjetan godhe. Daawit magaalaawwan Amoonotaa
hunda keessattis akkasuma godhe. Ergasii Daawitii fi loltoonni isaa hundinuu
Yerusaalemitti ni deebi’an.

### *Waraana Filisxeemotatti Baname*
*2:4-8 kwf – 2Sm 21:15-22*

4 Ergasii immoo lafa Geezir jedhamutti Filisxeemota wajjin waraanni baname.
Yeroo sanattis Siibekaay namichi biyya Hushaa sun Siifaay namicha gosa tokko
Refaayin ajjeese; Filisxeemonnis ni bulaniif.

5 Waraana biraa kan Filisxeemota wajjin godhame keessatti immoo Elhaanaan
ilmi Yaa’iir sun Lahemii obboleessa Gooliyaad namicha Gitii kan somaan eeboo isaa
loosaa wayya dhooftuu ga’u qabu sanaa ni ajjeese.

6 Ammas waraana Gaatitti godhame kan biraa keessatti namicha hamma wayii ga'u kan tokkoo tokkoo harka isaa irraa quboota ja'a ja'a akkasumas tokkoo tokkoo miilla isaa irraa quboota ja'a ja'a walumatti quboota digdamii afur qabu tokkotu ture. Innis sanyii Raafaa keessaa dhalate.
7 Yommuu inni Israa'elin tuttuqettis Yoonaataan ilmi Shime'aa obboleessi Daawit isa ajjeese.

8 Isaan kunneen sanyiiwwan Raafaa warra Gaati keessa turanii dha; isaanis harka Daawitii fi harka namoota isaatiin dhuman.

# 21

*Daawit Loltoota Isaa Lakkaa'e*
*21:1-26 kwf – 2Sm 24:1-25*

1 Seexanni Israa'elitti ka'ee akka Daawit saba Israa'el lakkaa'uuf isa kakaase.
2 Kanaafuu Daawit Yoo'aabii fi ajajjoota loltootaatiin, "Dhaqaatii Bersheebaadhaa hamma Daaniitti Israa'eloota lakkaa'aa. Ergasii immoo akka ani akka isaan hammam akka baay'atan beekuu danda'uuf deebi'aatii natti himaa" jedhe.

3 Yoo'aab garuu deebisee, "Waaqayyo loltoota isaa dachaa dhibba caalaa haa baay'isu. Yaa gooftaa koo mooticha, isaan hundi garboota gooftaa kootiif bulan mitii? Gooftaan koo maaliif waan kana gochuu barbaade? Inni maaliif Israa'elitti yakka fida?" jedhe.

4 Ta'us dubbiin mootichaa Yoo'aabin yaada geeddarachiise; kanaafuu Yoo'aab achii ba'ee guutummaa Israa'el keessa naanna'ee Yerusaalemitti deebi'e.
5 Yoo'aabis lakkoobsa namoota loluu danda'anii Daawititti hime; namoota Yihuudaa keessa jiraatan kuma dhibba afurii fi torbaatama dabalatee namoota goraadee qabachuu danda'an miliyoona tokkoo fi kuma dhibba tokkootu guutummaa Israa'el keessa ture.

6 Sababii ajajni mootichaa Yoo'aabin jibbisiiseef inni gosoota Lewwiitii fi Beniyaam itti dabalee hin lakkoofne.
7 Ajajni kun fuula Waaqaa durattis waan hamaa ture; kanaafuu inni Israa'elin rukute.

8 Kana irratti Daawit Waaqaan, "Ani waan kana gochuudhaan akka malee cubbuu hojjedheera. Amma garuu akka ati balleessaa garbicha keetii dhiiftuuf sin kadhadha. Ani hojii gowwummaa guddaa hojjedheeraa" jedhe.

9 Waaqayyos Gaad raajii Daawit sanaan akkana jedhe;
10 "Dhaqiitii Daawitiin, 'Waaqayyo akkana siin jedha: Ani filannoo sadii siifin kenna. Akka ani isa sitti fiduuf, isaan keessaa tokko filadhu' jedhi."

11 Kanaafuu Gaad gara Daawit dhaqee akkana jedheen; "Waaqayyo akkana jedha: 'Filannoo kee addaan baafadhu:
12 Beela waggaa sadii yookaan ji'a sadii fuula diinota keetii dura ari'amuu fi goraadee isaaniitiin balleeffamuu yookaan guyyaa goraadee Waaqayyoo sadii jechuunis guyyoota dha'ichi biyyattiitti bu'ee ergamaan Waaqayyoo kutaa Israa'el hunda balleessu.' Egaa amma waan ani isa na erge sanaaf deebisu murteeffadhu."

13 Daawit immoo Gaadiin, "Ani akka malee dhiphadheera. Waan araarri isaa akka malee guddaa ta'eef ani harka Waaqayyoo seenuu naaf wayya; garuu akka ani harka namaa seenu na hin godhin" jedhe.

14 Kanaafuu Waaqayyo Israa'elitti dha'icha ergee namoonni Israa'el kuma torbaatama ni dhuman.
15 Waaqni akka inni Yerusaalem balleessuuf ergamaa isaa tokko erge. Garuu utuma ergamaan Waaqayyoo sun Yerusaalemin balleessuuf qophaa'aa jiruu Waaqayyo balaa sana argee gaabbee ergamaa isaa kan saba balleessuuf ture sanaan, "Ni ga'a! Harka kee deebifadhu" jedhe. Yeroo sana ergamaan Waaqayyoo sun oobdii Ornaa namicha gosa Yebuus sanaa bira dhaabachaa ture.

16 Daawitis ol ilaalee ergamaa Waaqayyoo kan goraadee luqqifamee Yerusaalemitti diriirfame harka isaatti qabatee samii fi lafa gidduu dhaabachaa jiru tokko ni arge.

Daawitii fi maanguddoonni wayyaa gaddaa uffatanii fuula isaa duratti addaan lafatti ni gombifaman.

17 Daawit immoo Waaqaan, “Namni akka loltoonni lakkaa’aman godhe ana mitii? Namni cubbuu fi balleessaa hojjete anuma. Isaan kunneen garuu hoolotaa dha. Isaan maal godhan? Yaa WAAQAYYO Waaqa koo harki kee anaa fi maatii koo irra haa bu’u; garuu akka dha’ichi kun saba kee irra turu hin godhin” jedhe.

18 Ergasii ergamaan WAAQAYYOO akka Daawit ol ba’ee oobdii Ornaa namicha gosa
Yebuus sanaa keessatti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF ijaaru akka inni Daawititti himu
Gaadin ajaje. 19 Kanaafuu Daawit dubbii Gaad maqaa WAAQAYYOOTIIN isatti hime
sanaaf ajajamee ol ba’e.

20 Ornaan utuu qamadii dha’uutti jiruu ol jedhee ergamaa Waaqayyoo sana arge;
ilmaan isaa warri isa wajjin turan afranis ni dhokatan. 21 Ergasii Daawit achi ga’e;
Ornaanis yommuu mil’atee isa argetti oobdii sana keessaa ba’ee fuula Daawit duratti
addaan lafatti gombifamee sagade.

22 Daawitis, “Ani akka isa irratti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF tolchee akkasiin dha’ichi saba irra bu’e kun dhaabatuuf oobdii kee naaf kenni. Gatii isaa guutuutti natti gurguri” jedheen.

23 Ornaanis Daawitiin, “Fudhadhu! Gooftaan koo mootichi waan isatti tolu kam iyyuu haa godhu. Kunoo ani aarsaa gubamuuf sangoota, qoraaniif ulee ittiin midhaan dha’an, kennaa midhaan dhi’eeffamuufis qamadii nan kenna; ani waan kana hunda nan kenna” jedhe.

24 Daawit Mootichi garuu Ornaadhaan, “Kun hin ta’u; ani gatii isaa guutuu siifin kenna. Ani waan kan kee ta’e WAAQAYYOOF hin fudhadhu yookaan waan gatii na hin baasisin aarsaa gubamuuf hin dhi’eessu” jedhe.

25 Kanaafuu Daawit gatii lafa sanaa Ornaadhaaf warqee saqilii dhibbaa ja’a kafale.
26 Daawitis achitti iddoo aarsaa WAAQAYYOOF tolchee aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa
dhi’eesse. Innis WAAQAYYOON ni waammate; WAAQAYYOS samiidhaa ibiddaan iddoo
aarsaa gubamuu irratti isaaf deebii kenne.

27 Sana booddee WAAQAYYO ergamaa isaa sanatti dubbate; innis goraadee isaa
man’ee isaatti ni deebise. 28 Daawit yeroo sanatti akka WAAQAYYO oobdii Ornaa
namicha gosa Yebuus sanaa irratti deebii isaa kenne ni hubate; achittis aarsaa ni
dhi’eesse. 29 Dunkaanni WAAQAYYOO kan Museen gammoojjiitti hojjetee fi iddoon
aarsaa gubamuu Gibe’oon keessa gaara sagadaa irra ture. 30 Daawit garuu sababii
goraadee ergamaa WAAQAYYOO sodaateef achi dhaqee fuula iddoo aarsaa sanaa
duratti Waaqa kadhachuu hin dandeenye.

# 22

1 Ergasii Daawit, “Kun mana WAAQAYYO Waaqaa ti; kun immoo iddoo aarsaa, aarsaan gubamu Israa’eliif itti dhi’eeffamuu dha” jedhe.

### *Qophii Ijaarsa Mana Qulqullummaa*

2 Kanaafuu Daawit akka alagoonni Israa’el keessa jiraatan walitti qabaman ajaje;
isaan keessaas akka isaan ijaarsa mana qulqullummaa Waaqaatiif dhagaa soofame
qopheessaniif warra dhagaa cabsan ni filate. 3 Inni mismaara ittiin hundaa balbalaa
hojjetanii fi mi’a ittiin walitti qabsiisan hojjechuudhaaf sibiila akka malee baay’ee
fi naasii madaalliin isaa hamma hin qabne ni kenne. 4 Daawitis sababii warri
Siidoonaatii fi warri Xiiroos birbirsa akka malee baay’ee isaaf fidaniif birbirsa
baay’inni isaa lakkaa’amuu hin dandeenye ni kenne.

5 Daawit akkana jedhe; “Ilmi koo Solomoon ijoollee dha; muuxannoo illee hin qabu. Manni WAAQAYYOOF ijaaramu kun immoo ulfina qabeessa, kan gurra qabuu fi kan

fuula saboota hundaa duratti akka malee miidhagu ta'uu qaba. Kanaafuu ani isaaf
qophii nan godha." Akkasiin Daawit utuu hin du'in qophii guddaa godhe.
6 Ergasii Daawit ilma isaa Solomoonin waamee akka inni WAAQAYYO Waaqa
Israa'eliif mana ijaaru isa ajaje. 7 Daawitis Solomooniin akkana jedhe: "Yaa ilma
ko, ani Maqaa WAAQAYYO Waaqa kootiif mana ijaaruu yaadee ture. 8 Garuu dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 'Ati dhiiga baay'ee dhangalaafteerta;
lola hedduus lolteerta. Ati sababii fuula koo duratti dhiiga baay'ee lafa irratti
dhangalaafteef Maqaa kootiif mana hin ijaartu. 9 Kunoo ilmi tokko siif ni dhalata;
innis nama boqonnaa ni ta'a; anis diinota isaa kanneen naannoo isaa jiran
hunda irraa boqonnaa nan kennaaf. Maqaan isaas Solomoon jedhama; ani bara
mootummaa isaa keessa Israa'eliif nagaa fi tasgabbii nan kenna. 10 Namni Maqaa
kootiif mana ijaaru isa. Inni ilma naaf ta'a; anis abbaa nan ta'aaf. Teessoo
mootummaa isaas Israa'el irratti bara baraan jabeessee nan dhaaba.'
11 "Egaa yaa ilma ko, akkuma inni waa'ee kee dubbate sanatti akka mana WAAQAYYO
Waaqa keetii ijaaruun siif milkaa'uuf WAAQAYYO si wajjin haa ta'u. 12 Akka ati
yommuu inni Israa'el irratti aangoo siif kennutti seera WAAQAYYO Waaqa keetii
eegduuf WAAQAYYO ogummaa fi hubannaa siif haa kennu. 13 Akkasiin ati yoo ajajaa
fi seera WAAQAYYO karaa Museetiin Israa'eliif kenne sana akka gaariitti eegde ni
milkoofta. Jabaadhu; onnoomis. Hin sodaatin yookaan abdii hin kutatin.
14 "Kunoo, ani ijaarsa mana WAAQAYYOOTIIF warqee taalaantii* kuma dhibba
tokko, meetii taalaantii miliyoona tokko, naasii fi sibiila akka malee baay'ee kan
madaalamuu hin dandeenye, mukaa fi dhagaa illee qopheessuu irratti akka malee
dadhabeera. Atis itti dabaluu ni dandeessa. 15 Ati hojjettoota hedduu qabda; isaanis:
warra dhagaa cabsan, warra mana dhagaa ijaaranii fi warra ogummaa hojii mukaa
qaban, akkasumas namoota ogummaa hojii gosa gosaa, 16 kan hojii warqeetii fi meetii,
kan naasiitii fi sibiilaa, ogeeyyii hojii harkaa warra lakkoobsi isaanii hin beekamne
qabda. Egaa amma hojii jalqabi; WAAQAYYOS si wajjin haa ta'u."
17 Ergasii Daawit akka isaan ilma isaa Solomoon gargaaraniif dura buutota Israa'el
hunda ni ajaje. 18 Akkanas isaaniin jedhe; "WAAQAYYO Waaqni keessan isin wajjin
jira mitii? Inni gama hundaan boqonnaa isiniif kenneera mitii? Inni jiraattota
biyya kanaa dabarsee natti kenneeraatii; biyyattiinis WAAQAYYOO fi saba isaatiif
garboomteerti. 19 Amma WAAQAYYO Waaqa keessan barbaaduuf garaa fi lubbuu
keessan guutuudhaan kutadhaa ka'aa. Akka taabota kakuu WAAQAYYOOTII fi mi'oota
qulqulluu kan Waaqaa fiddanii mana qulqullummaa kan Maqaa WAAQAYYOOTIIF
ijaaramuuf jiru sanatti galchitaniif mana WAAQAYYO Gooftaa ijaaruu jalqabaa."

# 23

*Lewwota*

1 Daawit erga waggaa hedduu jiraatee dulloomee booddee ilma isaa Solomoonin
Israa'el irratti mootii godhe.
2 Akkasumas Daawit dura buutota Israa'el hunda, lubootaa fi Lewwota illee walitti
qabe. 3 Lewwonni umuriin isaanii waggaa soddomaa fi hammasii olii ni lakkaa'aman;
baay'inni dhiirotaa kuma soddomii saddeet ta'e. 4 Daawitis akkana jedhe; "Isaan
kanneen keessaa kuma digdamii afur hojii mana qulqullummaa WAAQAYYOO haa
to'atan; namoonni kuma ja'a qondaaltotaa fi abbootii murtii haa ta'an. 5 Kumni
afur eegdota balbalaa haa ta'an; kumni afur immoo mi'oota faarfannaa kanneen ani
kaayyoo kanaaf kenneen WAAQAYYOON haa galateeffatan."

* **22:14** 22:14 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34.

6 Daawitis Lewwota akkuma gosoota Lewwiitti garee gareen gargar ni qoode; isaanis: Geershoon, Qohaatii fi Meraarii.

### *Geershoonota*

7 Gosa Geershoon keessaa:
La'adaanii fi Shime'ii.
8 Ilmaan La'adaanii:
Yehii'eel hangafticha, Zeetaamii fi Yoo'eel; walumatti nama sadii turan.
9 Ilmaan Shime'ii:
Sheloomot, Hazii'eelii fi Haaraan; walumatti nama sadii turan.
Isaan kunneen hangafoota Maatii La'adaan turan.
10 Ilmaan Shime'ii:
Yahaati, Ziinaa, Ye'uushii fi Beriiyaa. Isaan kunneen ilmaan Shime'ii ti; walumatti nama afur turan.
11 Yahaati hangafa; Ziinaan lammaffaa; Ye'uushii fi Beriiyaan garuu ilmaan baay'ee hin qaban; kanaafuu isaan akkuma maatii tokkootti lakkaa'aman.

### *Qohaatota*

12 Ilmaan Qohaatii:
Amraam, Yizihaar, Kebroonii fi Uzii'eel; walumatti nama afur turan.
13 Ilmaan Amraam:
Aroonii fi Musee.
Aroon akka innii fi sanyiin isaa wantoota waan hunda caalaa qulqulluu ta'an Waaqaaf qulqulleessaniif, akka fuula Waaqayyoo duratti aarsaa dhi'eessaniif, akka fuula isaa dura tajaajilanii fi akka maqaa isaatiin eebba labsaniif bara baraan addaan baafaman.
14 Ilmaan Musee nama Waaqaa immoo gosa Lewwiitti dabalamanii lakkaa'aman.
15 Ilmaan Musee:
Geershoomii fi Elii'ezer.
16 Ilmaan Geershoomii:
Shebuu'eel hangafa.
17 Ilmaan Elii'ezerii keessaa:
Rehaabiyaa hangafa.
Ele'aazaar ilmaan biraa hin qabu ture; ilmaan Rehaabiyaa garuu akka malee hedduu turan.
18 Ilmaan Yizihaar keessaa:
Sheloomiit hangafta.
19 Ilmaan Kebroon;
hangaftichi Yeriyaa, lammaffaan Amariyaa, sadaffaan Yahizii'eel, afuraffaan Yeqame'aam.
20 Ilmaan Uzii'eel:
hangaftichi Miikaa, lammaffaan Yishiyaa.

### *Meraarota*

21 Ilmaan Meraarii:
Mahilii fi Muusii.
Ilmaan Mahilii:
Ele'aazaarii fi Qiish.
22 Ele'aazaar utuu ilmaan hin dhalchin du'e; inni intallan qofa qaba ture. Durbiiwwan isaanii ilmaan Qiishitu isaan fuudhe.
23 Ilmaan Muusii:
Mahelii, Eederii fi Yereemooti; walumatti nama sadii turan.

24 Isaan kunneen ilmaan Lewwii kanneen akkuma mana abbootii isaaniitti hangafoonni abbootii warri maqaa maqaadhaan galmeeffamanii tokko tokkoon lakkaa'aman, hojjettoota umuriin isaanii waggaa digdamaa fi

sanaa ol ta'e warra mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa tajaajilanii
dha. 25 Daawit akkana jedhee tureetii; "WAAQAYYOO Waaqni Israa'el
saba isaatiif boqonnaa kenneera; bara baraanis Yerusaalem keessa ni
jiraata; 26 si'achi Lewwonni dunkaana yookaan mi'oota achi keessatti
itti fayyadaman hin baatan." 27 Akkuma qajeelcha Daawit dhuma irratti
kenneetti, Lewwonni waggaa digdamaa fi sanaa olii hedamaniiruutii.

28 Hojiin Lewwotaas tajaajila mana qulqullummaa Waaqaa keessatti sanyiiwwan
Aroonii gargaaruu dha; kunis oobdiiwwanii fi kutaawwan mana qulqullummaa
eeguu, mi'oota qulqulluu qulqulleessuu fi hojiiwwan biraas mana WAAQAYYOO
keessatti hojjechuu dha. 29 Akkasumas buddeena minjaala irra kaa'uu, daakuu
kennaa midhaanii, buddeena utuu hin bukaa'in tolfame, tolchuu fi waliin makuu,
safartuu fi madaalii hunda irratti itti gaafatamtoota turan. 30 Isaan guyyaa
guyyaadhaan WAAQAYYOON galateeffachuu fi jajachuuf ganama ganama fuula isaa
dura ni dhaabatu; galgala galgalas akkasuma ni godhu; 31 yeroo aarsaan gubamu
guyyaa Sanbataa WAAQAYYOOF dhi'eeffamutti yeroo Ayyaana Baatii Haaraa fi gaafa
ayyaana yeroon isaa murtaa'e kamii iyyuu akkanuma ni godhu. Isaan yeroo hunda
akkuma lakkoobsaa fi qajeelfama isaanii kennameetti fuula WAAQAYYOO dura tajaajilu
ture.
32 Lewwonni akkasiin itti gaafatama dunkaana wal ga'ii fi Iddoo Qulqulluu eeguuf
qaban raawwatan; akkasumas ajaja obboloota isaanii sanyiiwwan Aroon jalatti
itti gaafatamummaa mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti qaban raawwachaa
turan.

# 24

*Ramadamuu lubootaa*

1 Ilmaan Aroon akka armaan gadiitti ramadaman:
Ilmaan Aroon Naadaab, Abiihuu, Ele'aazaarii fi Iitaamaar turan. 2 Naadaabii fi
Abiihuu garuu utuu ijoollee hin dhalchin abbaa isaanii dursanii du'an; kanaafuu
Ele'aazaarii fi Iitaamaar luboota ta'anii tajaajilan. 3 Daawitis gargaarsa Zaadoq
sanyii Ele'aazaar sanaatii fi Ahiimelek sanyii Iitaamaariin akkuma tajaajila isaaniitti
garee gareen isaan ramade. 4 Sanyiiwwan Iitaamaarii caalaa sanyiiwwan Ele'aazaar
keessaa hooggantoonni hedduun ni argaman; isaanis akkanatti ramadaman: sanyii-
wwan Ele'aazaar keessaa abbootii maatii kudha ja'a, sanyiiwwan Iitaamaar keessaa
immoo abbootii maatii saddeet. 5 Isaan sababii sanyiiwwan Ele'aazaarii fi sanyii-
wwan Iitaamaar keessa qondaaltonni mana qulqullummaatii fi qondaaltonni Waaqaa
turaniif loogii malee ixaadhaan isaan ramadan.
6 Shemaa'iyaan ilmi Naatnaa'el namicha gosa Lewwii barreessaan sun fuula
mootichaatii fi qondaaltotaa duratti maqaa isaanii Zaadoq lubicha, Ahiimelek ilma
Abiyaataar, abbootii maatiiwwan lubootaatii fi Lewwotaa, innis gosa Ele'aazaar
keessaa maatii tokko, gosa Iitaamaar keessaa immoo maatii tokko fuudhee barreesse.

7 Ixaan jalqabaa Yehooyaariibiif,
lammaffaan Yedaa'iyaaf,
8 sadaffaan Haariimiif,
afuraffaan Se'ooriimiif,
9 shanaffaan Malkiyaaf,
ja'affaan Miyaamiiniif,
10 torbaffaan Haqoosiif,
saddeettaffaan Abiyaaf,
11 saglaffaan Yeeshuu'aaf,

kurnaffaan Shekaaniyaaf,
12 kudhan tokkoffaan Eliyaashiibiif,
kudha lammaffaan Yaaqiimiif,
13 kudha sadaffaan Huphaaf,
kudha afuraffaan Yeshebe'aabiif,
14 kudhan shanaffaan Bilgaaf,
kudha ja'affaan Imeeriif,
15 kudha torbaffaan Heeziiriif,
kudha saddeettaffaan Haphizeeziif,
16 kudha saglaffaan Phetaayaaf,
digdammaffaan Hisqi'eeliif,
17 digdamii tokkoffaan Yaakiiniif,
digdamii lammaffaan Gaamuuliif,
18 digdamii sadaffaan Delaayaaf,
digdamii afuraffaan Ma'aaziyaaf ba'e.

19 Kun seera isaan yeroo mana qulqullummaa WAAQAYYOO seenanitti ittiin tajaaji-
lanii dha; seera kanas abbaa isaanii Aroonitu akkuma WAAQAYYO Waaqni Israa'el isa
ajajetti isaaniif kenne.

*Lewwota Hafan*

20 Ilmaan Lewwii warra hafan:

Ilmaan Amraamii keessaa: Shuubaa'eel;
ilmaan Shuubaa'eel keessaa: Yehideyaa.
21 Ilmaan Rehaabiyaa keessaa: Yishiyaa hangafticha.
22 Yizihaarota keessaa: Sheloomiit;
ilmaan Sheloomiit keessaa immoo: Yahaati.
23 Ilmaan Kebroon: Inni jalqabaa Yeriyaa, lammaffaan Amariyaa, sadaffaan
Yahizii'eel, afuraffaan Yeqame'aam.
24 Ilma Uzii'eel: Miikaa.
Ilmaan Miikaa keessaa: Shaamiir.
25 Obboleessa Miikaa: Yishiyaa;
Ilmaan Yishiyaa keessaa: Zakkaariyaas.
26 Ilmaan Meraarii: Mahilii fi Muusii.
Ilma Ya'aziyaa: Banoo.
27 Ilmaan Meraarii:
Ya'aziyaa irraa: Banoo, Shohaam, Zakuurii fi Ibrii.
28 Mahilii irra: Ele'aazaar; namichi kun ilmaan hin qabu ture.
29 Qiish irraa: Yerami'eel ilma Qiish.
30 Ilmaan Muusii: Mahelii, Eederii fi Yeriimooti.

Isaan kunneen akkuma mana abbootii isaaniitti ilmaan Lewwotaa ti.

31 Isaanis akkuma obboloota isaanii ilmaan Aroon sana fuula Daawit Mootichaa
duratti, fuula Zaadoq, Ahiimelek, fuula hangafoota maatii lubootaatii fi Lewwotaa
duratti ixaa buufatan. Maatii obboleessa hangaftichaatiifis akkuma maatii obboleessa
quxisuutti ixaan bu'e.

# 25

*Faarfattoota*

1 Daawit ajajjoota loltootaa wajjin akka isaan kiraaraan, baganaa fi kililleetti
fayyadamanii raajii dubbataniif maatii Asaaf, Heemaanii fi Yeduutuun keessaa
namoota addaan baafate. Maqaan namoota tajaajila kana kennaa turaniis:

2 Ilmaan Asaaf keessaa:
Zakuur, Yoosef, Naataaniyaa fi Asareelaa. Ilmaan Asaaf qajeelcha Asaaf jala turan. Asaaf immoo qajeelcha mootichaa jalatti raajii dubbachaa ture.

3 Ilmaan Yeduutuun keessaa:
Gedaaliyaas, Zerii, Isaayyaas, Samee'i, Hashabiyaa fi Matiitiyaa. Isaan kunneen ja'an qajeelcha abbaa isaanii Yeduutuun isa kiraaraan WAAQAYYO galateeffachaa fi jajachaa raajii dubbachaa ture sanaa jala turan.

4 Ilmaan Heemaan keessaa:
Bukiyaa, Mataaniyaa, Uzii'eel, Shebuu'eelii fi Yeriimooti; Hanaaniyaa, Hanaanii,
Elii'aataa, Gidaltii fi Roomaamti-Ezer; Yoshibqaashaa, Malootii, Hootiirii fi
Mahaaziyoo ti. 5 Isaan kunneen hundi ilmaan Heemaan namicha mootichaaf
mul'ata argu sanaa turan. Isaan akka isa kabajaniif akkuma Waaqni abdachiise sanatti isaa ni kennaman. Waaqnis ilmaan kudha afurii fi intallan sadii Heemaaniif ni kenne.

6 Namoonni kunneen hundi tajaajila mana Waaqaa keessatti faarfannaa kililleedhaan, kiraaraa fi baganaadhaan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti faarfatamu sanaaf qajeelcha abbootii isaanii jala turan.

Asaaf, Yeduutuunii fi Heemaan immoo qajeelcha mootichaa jala turan. 7 Isaanii
fi firoonni isaanii kanneen hundi isaanii faarfannaa WAAQAYYOOF faarfatamuun
leenjifamanii ogummaa qaban walumaa galatti 288 turan. 8 Jarris ramaddii isaanii
beekuudhaaf xinnaa fi guddaan, barsiisaa fi barataan haaluma wal fakkaatuun ixaa buufatan.

9 Ixaan jalqabatti Asaafiif bu'e sun Yoosefiif,
ilmaan Yoosefiitii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaaniis kudha lama turan
lammaffaan Gedaaliyaasiif,
isaaf, firoota isaatii fi ilmaan isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
10 sadaffaan Zakuuriif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
11 afuraffaan Izriif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
12 shanaffaan Naataaniyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
13 ja'affaan Bukiyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
14 torbaffaan Yishiri'eeliif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan
15 saddeettaffaan Yashaayaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba'e;
baay'inni isaanii kudha lama turan

16 saglaffaan Mataaniyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
17 kurnaffaan Shime’iif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
18 kudha tokkoffaan Azari’eeliif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
19 kudha lammaffaan Hashabiyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
20 kudha sadaffaan Shuubaa’eeliif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
21 kudha afuraffaan Matiitiyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
22 kudha shanaffaan Yereemootiif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii nama kudha lama turan
23 kudha ja’affaan Hanaaniyaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
24 kudha torbaffaan Yoshibqaashaaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
25 kudha saddeettaffaan Hanaaniif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii nama kudha lama turan
26 kudha saglaffaan Malootiif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
27 digdammaffaan Eliyaataaf,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
28 digdamii tokkoffaan Hootiiriif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
29 digdamii lammaffaan Gidaltiif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
30 digdamii sadaffaan Mahaaziyootiif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan
31 digdamii afuraffaan Roomaamti-Ezeriif,
ilmaan isaatii fi firoota isaatiif ba’e;
baay’inni isaanii kudha lama turan.

# 26

*Eegdota Balbalaa*

1 Akka itti eegdonni karraa qoodaman:

Gosa qoree keessaa:
Ilmaan Asaaf keessaa Mesheleemiyaa ilma Qooraahi.
2 Mesheleemiyaa ilmaan qaba ture; isaanis:
Inni hangafti Zakkaariyaas, lammaffaan Yedii'eel,
sadaffaan Zabaadiyaa, Afuraffaan Yatnii'eel,
3 inni shanaffaan Eelaam, ja'affaan Yehohaanaan,
torbaffaan Eliihoo'eenayi.
4 Oobeed Edoomis akkasuma ilmaan qaba ture; isaanis:
Inni hangafti Shemaa'iyaa, lammaffaan Yehoozaabaad,
sadaffaan Yoo'aa, afuraffaan Saakaar,
shanaffaan Naatnaa'el, 5 ja'affaan Amii'eel,
torbaffaan Yisaakor, saddeettaffaan Phe'uletii;
Waaqni Oobeed Edoomin eebbiseeraatii.
6 Shemaa'iyaan ilmi isaas ilmaan qaba ture; isaanis waan dandeettii guddaa
qabaniif qajeelchitoota maatii abbaa isaanii turan. 7 Ilmaan Shemaa'iyaa:
Otnii, Raafaa'eel, Oobeedii fi Elzaabaad;
firoonni isaa Eliihuu fi Samaakiyaanis dandeettii guddaa qabu ture.
8 Isaan kunneen hundi ilmaan Oobeed Edoom; isaan, ilmaan isaaniitii fi firoonni isaanii namoota jajjaboo dandeettii hojii qaban turan; ilmaan Oobeed Edoom; walumatti nama 62 turan.
9 Mesheleemiyaa fi firoota dandeettii guddaa qaban qaba ture; isaanis walumatti nama 18 turan.

10 Hoosaan inni gosa Meraarii sun ilmaan qaba ture; isaanis:
Shimriin dura bu'aa ture; inni hangafa ta'uu baatu iyyuu abbaan isaa dura bu'aa isa godhee ture;
11 inni lammaffaan Hilqiyaa, inni sadaffaan Xibaliyaa,
inni afuraffaan Zakkaariyaas.
Ilmaanii fi firoonni Hoosaa walumatti nama 13 turan.

12 Garee eegdota karraa kana keessaa hangafoota isaaniitiif hojiin akkuma
firoonni isaanii hojjetan sanaa mana WAAQAYYOO keessa tajaajiluu ni
kennameef. 13 Tokkoo tokkoo balbalaatiifis akkuma maatii maatii isaaniitti
xinnaa guddaaf ixaan bu'e.
14 Ixaan Karra Ba'a Biiftuu Shelemiyaaf ba'e.
Ergasii immoo Zakkaariyaas ilma isaa gorsituu ogeessa sanaaf ixaan bu'e; ixaan balbala kaabaa isaaf ba'e.
15 Ixaan Karra gama kibbaa Oobeed Edoomiif, kan mankuusaa immoo ilmaan isaatiif ba'e.
16 Ixaan Karra Lixa biiftuutii fi Karra Shaleekeet kan daandii olii irratti argamu Shufiimii fi Hoosaaf ba'e.

Eegumsa tokko fuulleedhaan eegumsa biraatu ture:
17 Karaa ba'a biiftuutiin guyyaa guyyaatti Lewwota ja'a,
karaa kaabaatiin guyyaa guyyaatti afur,
karaa kibbaatiin guyyaa guyyaatti afur
karaa mankuusaa immoo yeroo tokkotti lamatu ture.
18 Oobdii gama lixa biiftuutiin jiruuf daandii irra afur, waltajjicha gubbaa immoo lamatu ture.

[19] Isaan kunneen garee eegdota karraa kanneen ilmaan Qooraahiitii fi Meraarii keessaa dhufanii dha.

### *To'attoota Qabeenyaatii fi Qondaaltota Biraa*

[20] Lewwota keessaa Ahiiyaan itti gaafatamaa qabeenya mana Waaqaatii fi itti gaafatamaa mi'oota qulqulleeffamanii ture.

[21] Sanyiiwwan La'adaan kanneen karaa La'adaaniitiin Geershoonota ta'an warri hangafoota maatii La'adaan namicha gosa Geershoon sanaa turan: Yehii'eelii,
[22] ilmaan Yehii'eelii, Zeetaamii fi obboleessa isaa Yoo'eel. Isaan kunis itti gaafatamtoota qabeenya mana qulqullummaa WAAQAYYOO turan.

[23] Amraamota keessaa, Yizihaarota keessaa, Kebroonota keessaa, Uzii'eel keessaa:

[24] Shebuu'eel ilmi Geershoom ilma Musee sanaa itti gaafatamaa qabeenyaa
hangafa ture. [25] Namoonni karaa Elii'ezeriitiin firoota isaa ta'an immoo:
ilma isaa Rehaabiyaa, ilma isaa Isaayyaas, ilma isaa Yooraam, ilma isaa Zikrii
fi ilma isaa Sheloomiit. [26] Sheloomiitii fi firoonni isaa mankuusaa mi'oota
Daawit mootichi, hangafoonni maatiiwwanii kanneen ajajjuuwwan kumaatii
fi ajajjuuwwan dhibbaa turan, akkasumas ajajjoonni loltootaa biraa Waaqaaf
addaan baasan irratti itti gaafatamtoota turan. [27] Isaan boojuu waraanaan
argame keessaa gara tokko haaromsuu mana qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF
addaan baasanii kennan. [28] Waan Saamu'eel namichi mul'ata argu sun, Saa'ol
ilmi Qiish, Abneer ilmi Neerii fi Yoo'aab ilmi Zeruuyaa dhi'eessanii fi waan
Waaqaaf addaan baafame hunda Sheloomiitii fi firoota isaatu eega ture.

[29] Yizihaarota keessaa:
Kenaaniyaa fi ilmaan isaa hojii mana qulqullummaatiin ala ta'etti Israa'eloota irratti qondaaltotaa fi abbootii murtii ta'anii ramadaman.

[30] Kebroonota keessaa:
Hashabiyaa fi firoonni isaa kanneen dandeettii qaban kuma tokkoo fi dhibba
torba biyya Israa'el kan Yordaanosiin gama lixa biiftuu jirutti hojii WAAQAYYOO
hundaa fi tajaajila mootichaa irratti itti gaafatamtoota turan. [31] Kebroonota
keessaa akkuma galmee hiddaa dhaloota maatii isaaniitti Yeriyaan hangafa
isaanii ture.
Bara mootummaa Daawit keessa waggaa afurtamaffaatti galmeewwan ilaala-
manii gosa Kebroon keessaa namoonni dandeettii qaban Ya'izeer biyya
Gili'aadi keessaa sanatti argaman. [32] Yiriiyaan firoota dandeettii qaban
kanneen hangafoota maatii turan kuma lamaa fi dhibba torba qaba ture;
Daawit mootichis waan kan Waaqaa ta'eef dhimma mootichaa hunda irratti
gosa Ruubeen gosa Gaadii fi walakkaa gosa Minaasee to'attoota godhe.

## 27

### *Kutaawwan Loltootaa*

[1] Lakkoobsi ijoollee Israa'el hangafoonni maatii isaanii, ajajjuuwwan kumaa, ajajjuuwwan dhibbaatii fi qondaaltonni isaanii warri waan kutaawwan loltootaa kanneen waggaa guutuu ji'a ji'aan hojiitti ramadaman sanaa ilaalu hunda irratti mooticha tajaajilan kanaa dha. Tokkoon tokkoon kutaawwan loltootaa kunis nama 24,000 of keessaa qaba ture.

2 Ji'a jalqabaatiif ajajaan kutaa loltootaa kan duraa Yaashobi'aam ilma Zabdii'eel
ture. Kutaa loltoota isaa keessas loltoota 24,000 ture. 3 Innis sanyii Faaresii fi
hangafa ajajjoota kutaa loltoota hundaa kan ji'a jalqabaa ture.
4 Doodaayi namichi Ahoo'aa ajaja kutaa waraanaa kan ji'a lammaffaaf ture;
Miiqlooti hoogganaa kutaa waraana isaa ture. Kutaan waraana isaas namoota
24,000 of keessaa qaba ture.
5 Ajajaan kutaa waraanaa sadaffaan kan ji'a sadaffaa immoo Benaayaa ilma
Yehooyaadaa lubichaa ture. Innis hangafa; kutaan waraana isaa namoota 24,000
of keessaa qaba ture. 6 Benaayaa kun isuma warra soddoma keessaa nama jabaa
fi ajajaa warra soddoma sanaa ture sanaa dha. Amiizaabaad ilmi isaa immoo
ajajaa kutaa waraana isaa ture.
7 Ji'a afuraffaaf ajajaan kuta afuraffaa Asaaheel obboleessa Yoo'aab ture; kan iddoo
isaa bu'e immoo ilma isaa Zebaadiyaa dha. Kutaa isaa keessa namoota 24,000
turan.
8 Ji'a shanaffaaf ajajaan kutaa shanaffaa Shamhuuti namicha Yizraa ture. Kutaa
isaa keessa namoota 24,000 turan.
9 Ji'a ja'affaaf Iiraa ilmi Iqeesh namicha Teqoo'aa sanaa ajajaa ja'affaa ture. Kutaa
isaa keessa namoota 24,000 turan.
10 Ji'a torbaffaaf Heleez namichi Pheloonaa kan gosa Efreem sun ajajaa torbaffaa
ture. Kutaa isaa keessa namoota 24,000 turan.
11 Ji'a saddeettaffaaf Siibekaay namichi biyya Hushaa kan gosa Zaarotaa ajajaa
saddeettaffaa ture; kutaa isaa keessa namoota 24,000 turan.
12 Ji'a saglaffaaf Abii'ezer namicha Anaatootii kan gosa Beniyaam sanattu ajajaa
saglaffaa ture; kutaa isaa keessaa namoota 24,000 turan.
13 Ji'a kurnaffaaf Maharaayi namicha Netoof kan gosa Zaaraa sanatu ajajaa
kurnaffaa ture. Kutaa isaa keessa namoota 24,000 turan.
14 Ji'a kudha tokkoffaaf ajajaan kudha tokkoffaan Benaayaa namicha Phiraatoon
kan gosa Efreem sana ture. Kutaa isaa keessa namoota 24,000 turan.
15 Ji'a kudha lammaffaaf ajajaan kudha lammaffaan Heldaayi namicha Netoof kan
gosa Otnii'eel sana ture. Kutaa isaa keessa namoota 24,000 turan.

### *Hangafoota Gosootaa*

16 Hangafoonni gosoota Israa'el:

Gosa Ruubeen irratti: Elii'ezer ilma Zikrii;
gosa Simi'oon irratti: Shefaaxiyaa ilma Ma'akaa;
17 gosa Lewwii irratti: Hashabiyaa ilma Qemuu'eel;
gosa Aroon irratti: Zaadoq;
18 gosa Yihuudaa irratti: Eliihuu obboleessa Daawit;
gosa Yisaakor irratti: Omrii ilma Miikaa'el;
19 gosa Zebuuloon irratti: Yishma'iyaa'uu ilma Obaadiyaa;
gosa Niftaalem irratti: Yeriimooti ilma Azrii'eel;
20 gosa Efreem irratti: Hooshee'aa ilma Azaziyaa;
walakkaa gosa Minaasee irratti: Yoo'eel ilma Phedaayaa;
21 walakkaa gosa Minaasee kan Gili'aad keessa jiraatuu irratti:
Iddoo ilma Zakkaariyaas; gosa Beniyaam irratti: Ya'isii'el ilma Abneer;
22 gosa Daan irratti: Azari'eel ilma Yirooham.

Hangafoonni gosoota Israa'el isaan kanneen turan.

23 Daawit sababii WAAQAYYO saba Israa’el akkuma urjiiwwan samiitti baay’isuuf
waadaa galeef dhiira waggaa digdamaatii fi digdamaa gad ta’e hin lakkoofne.
24 Yoo’aab ilmi Zeruuyaa dhiirota lakkaa’uu jalqabe malee lakkaa’ee hin fixne;
sababii lakkoobsa kanaatiifis dheekkamsi Waaqaa Israa’elitti dhufe; kanaafuu warri
hedaman iyyuu galmee Daawit mootichaa keessatti hin galmeeffamne.

### *Shuumota Mootichaa*

25 Azmaawet ilmi Aadii’eel shuumii mankuusaa qabeenya mootii ture.
Yoonaataan ilmi Uziyaa immoo shuumii mi’oota aanaalee, magaalaawwan, kan gandootaatii fi gamoowwan eegumsaa ture.
26 Ezeriin ilmi Kiluub shuumii qonnaan bultootaa ture.
27 Shime’iin namichi Raamaatii sun itti gaafatamaa iddoo dhaabaa wayinii ture.
Zabdiin namichi Shifaamii sun itti gaafatamaa mana cuunfaa wayinii iddoo dhaabaa wayinii keessaa ture.
28 Ba’aal-Haanaan namichi Gedeeraa sun shuumii mukkeen ejersaatii fi harbuu tabbawwan gaarran gama lixa biiftuutti argamanii ture.
Yoo’aash immoo shuumii mana zayitii ejersaa ture.
29 Shitraayi namichi Shaaroon shuumii karra loonii kan Shaaroonitti bobba’uu ture.
Shaafaax ilmi Aadilaay shuumii karra loowwan sulula keessa jiranii ture.
30 Oobiil namichi gosa Ishmaa’eel sun shuumii gaalawwanii ture.
Yehideyaan namichi gosa Meeroonotaa shuumii harrootaa ture.
31 Yaaziiz namichi gosa Aggaar itti gaafatamaa bushaayee ture.
Isaan kunneen hundi shuumota qabeenya Daawit mootichaa turan.

32 Yoonaataan eessumni Daawit namichi beekaan barreessaan sun gorsituu ture;
Yehii’eel ilmi Hakmoonii immoo eegduu ilmaan mootichaa ture.
33 Ahiitofel gorsaa mootichaa ture.
Huushaayi namichi gosa Arki immoo michuu mootichaa ture.
34 Yehooyaadaan ilmi Benaayaatii fi Abiyaataar iddoo Ahiitofel bu’an.
Yoo’aab immoo ajajaa eegdota mootummaa ture.

# 28

### *Karoora Daawit Mana Qulqullummaatiif Baase*

1 Daawit akka isaan Yerusaalemitti walitti qabamaniif hangafoota Israa’el hunda ni waame; isaanis: Geggeessitoota gosootaa, tajaajila mootummaa keessatti ajajjoota kutaawwan loltootaa, ajajjoota kumaatii fi ajajjoota dhibbaa, warra qabeenyaa fi horii mootichaatii fi kan ilmaan isaa irratti itti gaafatamtoota ta’an, qondaaltota masaraa mootummaa, namoota jajjaboo fi gootota waraanaa hunda.

2 Ergasii Daawit Mootichi ka’ee dhaabatee akkana jedhe: “Yaa obboloota koo fi yaa
saba ko, mee na dhaga’aa. Ani taabota kakuu WAAQAYYOOTIIF iddoo inni boqotu,
Waaqa keenyaaf immoo iddoo inni miilla dhaabatu ijaaruu yaadee qophaa’eera.
3 Waaqni garuu, ‘Ati sababii lola hedduu loltee dhiiga baay’ee dhangalaafteef maqaa
kootiif mana hin ijaartu’ naan jedhe.

4 “Ta’us WAAQAYYO, Waaqni Israa’el akka ani bara baraan Israa’el irratti mootii
ta’uuf mana abbaa koo keessaa na filate. Akka inni dura bu’aa ta’uufis Yihuudaa
filate; mana Yihuudaa keessaa maatii koo filate; ilmaan abbaa kootii keessaa immoo
akka ani guutummaa Israa’el irratti mootii ta’u jaallate. 5 WAAQAYYO ilmaan baay’ee
naa kenneera; ilmaan koo hunda keessaa immoo akka inni teessoo mootummaa
WAAQAYYOO irra taa’ee saba Israa’el bulchuuf ilma koo Solomoonin filate. 6 Akkanas
naan jedhe; ‘Kan mana koo fi oobdiiwwan koo naaf ijaaru ilma kee Solomoonii dha;
ani akka inni ilma naa ta’uuf isa filadheeraatii; anis abbaa isaa nan ta’a. 7 Yoo inni

akkuma ammaa kanatti ittuma fufee ajaja koo fi seera koo eege ani bara baraan
mootummaa isaa jabeessee nan dhaaba.’

8 “Kanaafuu akka isin lafa gaarii kana dhaaltanii ilmaan keessaniif dhaala bara
baraa dabarsitaniif, akka isin ajaja WAAQAYYO Waaqa keessanii hunda eegdanii fi isa
duukaa buutaniif ani amma fuula Israa’eloota hundaa duratti, waldaa WAAQAYYOO
duratti, akkasumas utuu Waaqni keenya dhaga’uu isinin ajaja.

9 “Yaa ilma koo Solomoon atis Waaqayyo Waaqa abbaa keetii beekii garaa tokkoo
fi qalbii fedhii qabuun isa tajaajili; WAAQAYYO waan garaa namaa keessa jiru hunda
qoree karooraa fi yaada hunda hubataatii. Yoo ati isa barbaadde inni siif argama;
yoo ati isa dhiifte garuu inni bara baraan si dhiisa. 10 Amma qalbeeffadhu; WAAQAYYO
akka ati mana iddoo qulqulluu ta’u tokko ijaartuuf si filateeraatii. Jajjabaadhuu
hojjedhu.”

11 Ergasii Daawit karoora gardaafoo mana qulqullummaa, kan ijaarsa isaa,
kutaawwan mi’i keessa kaa’amu, kan kutaawwan ol aananiitii fi kutaawwan
keessaa, akkasumas karoora iddoo teessoo araaraa ilma isaa Solomoonitti kenne.
12 Akkasumas karoora waan Hafuurri qulqulluun isa yaachisee kan oobdii mana
qulqullummaa WAAQAYYOO, kan kutaawwan naannoo isaa jiranii, kutaawwan mana
mi’a mana qulqullummaa Waaqaatii fi kan mankuusaa mi’oota Waaqaatiif addaan
baafamanii hunda itti kenne. 13 Karoora ramaddii hojii lubootaatii fi Lewwotaa,
tajaajila mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti kennamuu maluu hunda, mi’oota
mana qulqullummaa keessatti tajaajilaaf oolan irrattis qajeelfama ni kenneef.
14 Ulfina warqee mi’oota warqee irraa hojjetamanii tajaajila garaa garaatiif oolan
hundaatii fi ulfina meetii mi’oota meetii irraa hojjetamanii tajaajila garaa garaatiif
oolan hundaas isa beeksise: 15 Kunis ulfina baattuuwwan ibsaa kanneen warqee
irraa hojjetamaniitii fi ibsaawwan isaanii, ulfina warqee tokkoo tokkoo baattuu
ibsaatii fi ibsaa isaanii wajjin, akkasumas akkuma hojii tokkoo tokkoo baattuu ibsaa
sanaatti ulfina meetii tokkoo tokkoo baattuu ibsaatii fi ibsaawwan isaa, 16 ulfina
warqee tokkoo tokkoo minjaala buddeenni qulqulluun irra kaa’amuu, ulfina meetii
minjaalli irraa hojjetame, 17 ulfina warqee qulqulluu fal’aana, waciitii fi kubbaayyaa,
ulfina warqee tokkoo tokkoo caabii warqee irraa hojjetame; ulfina meetii tokkoo
tokkoo caabii meetii irraa hojjetame; 18 akkasumas ulfina warqee qulqulleeffame kan
iddoo aarsaa ixaanaatiif qopheeffame. Karoora gaarii jechuunis kiirubeelii warqee
irraa hojjetaman kanneen qoochoo isaanii babal’isanii taabota kakuu WAAQAYYOO
haguugan itti kenne.

19 Daawitis, “Ani waan kana hunda harka WAAQAYYOO kan narra jiru sanaan
barreeffamaan argadhe; innis karoora hojii kanaa hunda irratti hubannaa naaf
kenne” jedhe.

20 Daawit ilma isaa Solomooniin akkana jedhe; “Cimi; jajjabaadhus; hojii sanas
hojjedhu. Hin sodaatin; abdiis hin kutatin; WAAQAYYO Gooftaan Waaqni koo si wajjin
jiraatii. Inni hamma hojiin tajaajila mana qulqullummaa WAAQAYYOO dhumutti si
hin dhiisu yookaan si hin gatu. 21 Gareen lubootaatii fi Lewwotaa ijaarsa mana
qulqullummaa Waaqaatiif qophaa’oo dha. Namni fedhii qabu kan ogummaa hojii
gosa kamii iyyuu qabu hundii hojii hunda si gargaara. Qondaaltonnii fi namoonni
hundii ajaja kee hunda ni fudhatu.”

## 29

*Kennaa Ijaarsa Mana Qulqullummaatiif Kenname*

1 Ergasii Daawit mootichi yaa’ii guutuudhaan akkana jedhe; “Ilmi koo Solomoon
inni Waaqni filate ijoollee fi nama muuxannoo hin qabnee dha. Manni qulqullummaa
kun kan WAAQAYYO Gooftaati malee waan kan namaa hin ta’iniif hojiin isaa guddaa

dha. 2 Anis waanan kennuu danda'u hunda mana qulqullummaa Waaqa kootiif, hojii
warqeetiif warqee, kan meetiitiif meetii, kan naasiitiif naasii, kan sibiilaatiif sibiila,
kan mukaatiif muka akkasumas waan bareedina duuba isaatiif oolu sardooniksii,
keelqedoon, dhagaawwan babbareedoo fi dhagaa adii baay'inaan qopheesseera.
3 Kana malees ani jaalalan mana Waaqa kootiif qabuun waanan duraan kennee turetti
dabalee qabeenya ofii koo irraa warqee fi meetii mana qulqullummaa Waaqa kootiif
nan kenna; 4 kunis keenyan manichaatti uffisuuf warqee qulqulluu warqee, Oofiirii
taalaantii kuma sadii fi meetii qulqulleeffame taalaantii kuma torba, 5 akka hojiin
hundi ogeeyyii hojii harkaatiin hojjetamuuf warqee hojii warqeetiif, meetii illee hojii
meetiif kenneera. Egaa har'a eenyutu fedhii isaatiin WAAQAYYOOF addaan of baasa?"

6 Ergasii qajeelchitoonni maatii, ajajjoonni gosoota Israa'el, ajajjuuwwan kumaa,
ajajjuuwwan dhibbaatii fi qondaaltonni hojii mootii to'atan kennaa isaanii fedhi-
idhaan kennan. 7 Isaanis hojii ijaarsa mana qulqullummaa Waaqaatiif warqee
taalaantii kuma shan, warqee daariikii kuma kudhan, meetii taalaantii kuma kudhan,
naasii taalaantii kuma kudha saddeetii fi sibiila taalaantii kuma dhibba tokko ni
kennan. 8 Namni dhagaawwan gati jabeeyyii qabu hundinuus harka Yehii'eel
namicha gosa Geershoonitti mankuusaa mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ni
galche. 9 Kana irratti waan dura deemtonni isaa fedhii fi garaa guutuudhaan
WAAQAYYOOF kennaniif sabni sun ni gammade. Daawit mootichis akka malee ni
gammade.

### *Kadhannaa Daawit*

10 Daawit yaa'ii guutuu duratti akkana jedhee WAAQAYYO galateeffate;

"Yaa WAAQAYYO, Waaqa abbaa keenya Israa'el
bara baraa hamma bara baraatti
galanni siif haa ta'u.
11 Yaa WAAQAYYO sababii wanni samii fi
lafa irra jiru hundi kan kee ta'eef guddinnii fi humni,
ulfinni, surraa fi simboon kan kee ti.
Yaa WAAQAYYO mootummaan kan kee ti;
ati waan hunda irratti mataa ol ol jettee dha.
12 Badhaadhummaa fi kabajamuun si biraa argama;
ati bulchaa waan hundaa ti.
Ol ol guddisuu fi waan hundaaf
jabina kennuuf, jabinnii fi humni si harka jira.
13 Ammas yaa Waaqa keenya, si galateeffanna;
maqaa kee ulfina qabeessa sanas ni jajanna.

14 "Garuu arjummaa akkasii gochuuf ani eenyu? Sabni koos eenyu? Wanni hundi
si biraa dhufe; nu waanuma harka keetii dhufe sana qofa siif kennine. 15 Nu akkuma
abbootiin keenya hundi turan sana fuula kee duratti alagootaa fi keessummoota; barri
jireenya keenyaas lafa irratti akkuma gaaddidduu ti; abdii illee hin qabnu. 16 Yaa
WAAQAYYO Waaqa keenya, wanni nu Maqaa kee Qulqullichaaf mana qulqullummaa
siif ijaaruuf kennine kun hundinuu harka keetii dhufe; hundi isaas keetuma. 17 Yaa
Waaqa koo akka ati garaa qortuu fi qajeelummaa jaallattu ani beeka. Anis waan
kana hunda amanamummaa fi fedhiidhaanan kenne. Ammas akka sabni kee kan
as jiru kun fedhiidhaan siif kenne ani argee gammadeera. 18 Yaa WAAQAYYO Waaqa
abbootii keenyaa, Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaq, Waaqa Israa'el fedhii kana
bara baraan garaa saba keetii keessa tursi; akka garaan isaaniis amanamaa siif ta'u
godhi. 19 Ilma koo Solomooniifis akka inni ajaja kee, qajeelchaa fi labsii kee eegu,
akka inni waan kana hunda hojjetee mana qulqullummaa kan ani gumaata godheef
kana illee ijaaruuf fedhii garaa guutuu kenniif."

20 Sana booddees Daawit yaa’ii guutuudhaan, “WAAQAYYO Waaqa keessan gala-
teeffadhaa” jedhe. Kanaafuu hundi isaanii WAAQAYYO Waaqa abbootii isaanii ni
galateeffatan; fuula WAAQAYYOOTII fi fuula mootichaa duratti addaan gombifamanii
ni sagadan.

### *Solomoon Mootii Ta’uun Isaa Beekame*
*29:21-25 kwf – 1Mt 1:28-53*

21 Isaanis guyyaa itti aanutti WAAQAYYOOF qalma qalanii aarsaa gubamu dhi’eessan;
aarsaan maqaa Israa’elootaatiin dhi’aates: korommii loonii kuma tokko, kor-
beeyyii hoolaa kuma tokko, korbeeyyii hoolaa xixinnaa kuma tokko, dhibaayyuu
fi aarsaawwan biraa baay’ee dha. 22 Isaanis gaafa sana fuula WAAQAYYOO duratti
gammachuu guddaadhaan nyaatanii dhugan.
Ergasii immoo Solomoon ilma Daawit mootii godhanii akka inni bulchaa ta’uuf
fuula WAAQAYYOO duratti yeroo lammaffaa diban; Zaadoqiin immoo luba godhan.
23 Kanaafuu Solomoon iddoo abbaa isaa Daawit mootii ta’ee teessoo WAAQAYYOO
irra taa’e. Ni milkaa’es; Israa’eloonni hundis isaaf ajajaman. 24 Ajajjoonni
waraanaatii fi namoonni jajjaboon hundi akkasumas ilmaan Daawit mootichaa hundi
amanamummaa isaanii Solomoon Mootichaaf mirkaneessan.
25 WAAQAYYOS Israa’eloota duratti Solomoonin ol ol kaase; ulfina mootummaa kan
mootonni isa dura turan tokko iyyuu Israa’el keessatti hin qabaatin ni kenneef.

### *Du’a Daawit*
*29:26-28 kwf – 1Mt 2:10-12*

26 Daawit ilmi Isseey guutummaa Israa’el irratti mootii ture. 27 Innis waggaa afur-
tama Israa’elin bulche; waggaa torba Kebroon taa’ee, waggaa soddomii sadii immoo
Yerusaalem taa’ee ni bulche. 28 Daawit bara dheeraa jiraatee, badhaadhummaa fi
ulfina argatee dulloomee du’e. Ilmi isaa Solomoon mootii ta’ee iddoo isaa bu’e.
29 Hojiin bara mootummaa Daawit Mootichaa keessa jalqabaa hamma dhumaatti
hojjetame kitaaba Seenaa Saamu’eel namicha mul’ata argu sanaa keessatti, kitaaba
seenaa Naataan raajichaa keessattii fi kitaaba seenaa Gaad namicha mul’ata argu
sanaa keessatti, 30 bulchiinsi isaa hundii fi humni isaa, barri inni, Israa’elii fi
mootummoonni biyyoota hundaa keessa darban barreeffameera.

# Kitaaba Seenaa Lammaffaa

*Solomoon Ogummaa Kadhate*
*1:2-13 kwf – 1Mt 3:4-15*
*1:14-17 kwf – 1Mt 10:26-29; 2Sn 9:25-28*

1 Sababii WAAQAYYO Waaqni isaa isa wajjin turee fi sababii inni akka malee guddaa
isa godheef Solomoon ilmi Daawit jabaatee mootummaa isaa irra bule.

2 Ergasiis Solomoon Israa'eloota hundatti, ajajjoota kumaatti, ajajjoota dhibbaatti,
abbootii murtiitti, hooggantoota Israa'el hundattii fi hangafoota abbootiitti dubbate;
3 sababii dunkaanni wal ga'ii kan Waaqaa inni Museen garbichi WAAQAYYOO sun
gammoojjii keessatti hojjete achi tureef Solomoonii fi yaa'iin guutuun gara iddoo
sagadaa kan gaara irraa kan Gibe'oon jiru sanaa ni dhaqan. 4 Daawitis taabota
Waaqaa Kiriyaati Ye'aariimii gara iddoo qopheesseef sanaatti ni fide; inni Yerusaalem
keessatti dunkaana dhaabeefii tureetii. 5 Garuu iddoon aarsaa kan Bezali'eel ilmi
Uuri, ilmi Huuri naasii irraa hojjete sun fuula dunkaana qulqulluu WAAQAYYOO sanaa
dura ture; kanaafuu Solomoonii fi yaa'iin sun achitti Waaqa kadhatan. 6 Solomoonis
gara iddoo aarsaa kan naasii irraa hojjetamee dunkaana wal ga'ii keessa fuula
WAAQAYYOO dura jiru sanaatti ol ba'ee aarsaa gubamu 1,000 achi irratti ni dhi'eesse.

7 Waaqnis halkan sana Solomoonitti mul'atee, "Waan akka ani siif kennu feetu kam
iyyuu na kadhadhu" jedheen.

8 Solomoon immoo akkana jedhee Waaqaaf deebise; "Ati abbaa koo Daawitiif
arjummaa guddaa goote; anas iddoo isaa buuftee mootii gooteerta. 9 Egaa yaa
WAAQAYYO, yaa Waaqi, abdiin ati abbaa koo Daawitiif kennite sun fiixaan haa ba'u;
ati saba akka biyyoo lafaa baay'atu irratti mootii na gooteertaatii. 10 Akka ani saba
kana hoogganuuf ogummaa fi beekumsa naaf kenni. Yoo akkas ta'uu baate eenyutu
saba kee guddaa kana bulchuu danda'a?"

11 Waaqnis Solomooniin akkana jedhe; "Sababii wanni kun fedhii garaa keetii ta'ee
atis qabeenya, badhaadhummaa yookaan ulfina yookaan akka diinonni kee dhuman
hin kadhatinii fi sababii ati bara dheeraa jiraachuuf utuu hin ta'in saba koo kan ani
irratti mootii si godhe bulchuuf jettee ogummaa fi beekumsa kadhatteef, 12 ogummaa
fi beekumsi siif ni kennama. Ani qabeenya, badhaadhummaa fi ulfina mootonni si
duraan turan tokko iyyuu takkumaa hin qabaatin yookaan kan mootonni siin duubaa
tokko iyyuu hin qabaanne siifin kenna."

13 Solomoon ergasii iddoo sagadaa kan Gibe'oon keessaa sanaa, fuula dunkaana
wal ga'ii duraa ka'ee Yerusaalem dhaqe. Innis Israa'el irratti mootii ta'e.

14 Solomoonis gaariiwwanii fi fardeen walitti ni kuufate; innis gaariiwwan kuma
tokkoo fi dhibba afurii fi fardeen kuma kudha lama qaba ture; isaan kanneenis
magaalaawwan gaariiwwanii keessaa fi Yerusaalem keessa of bira ni kaa'ate.
15 Mootichi akka meetii fi warqeen Yerusaalem keessatti akkuma dhagaa baay'atu,
akka mukni birbirsaas akkuma mukkeen harbuu kanneen gaarran jalaatti baay'atu ni
godhe. 16 Fardeen Solomoon Gibxii fi Qaweedhaa fidaman; daldaltoota mootummaatu
Qaweedhaa gatii yerootiin isaan bite. 17 Isaanis gaarii tokko meetii saqilii dhibba
ja'aan, farda immoo meetii saqilii dhibba tokkoo fi shantamaan Gibxii bitanii fidan.
Akkasumas gaariiwwanii fi fardeen kanneen erganii moototа Heetotaatii fi mootota
Sooriyaa hundatti gurguru turan.

# 2

*Qophii Mana Qulqullummaa Ijaaruuf Godhame*
*2:1-18 kwf – 1Mt 5:1-16*

1 Solomoonis akka Maqaa WAAQAYYOOTIIF manni qulqullummaa ofii isaaf immoo
masaraan mootummaa ijaaramu ni ajaje. 2 Innis namoota ba'aa baatan 70,000 warra
gaarran irratti dhagaa cabsan 80,000 fi warra isaan to'atan 3,600 gurmeesse.
3 Solomoon akkana jedhee Huuraam mooticha Xiiroositti ergaa kana erge:
"Akkuma yeroo akka Daawit abbaan koo mana keessa jiraatu ittiin ijaarratuuf
muka birbirsaa ergiteef sana anaafis muka birbirsaa ergi. 4 Kunoo ani Maqaa
WAAQAYYO Waaqa kootiif mana qulqullummaa ijaaree akka isa keessatti ixaanni
urgaa'aan fuula isaa duratti aarfamuuf, akka buddeenni qulqulleeffame yeroo
yerootti dhi'eeffamuu fi akka ganama hundaa fi galgala hunda, guyyoota San-
bataa, guyyaa Baatii Haaraatii fi guyyaa ayyaana WAAQAYYO Waaqa keenyaa kan
murtaa'etti aarsaan gubamu dhi'eeffamuuf addaan baasee isaa kennuuf yaadeera.
Kunis Israa'eliitiif seera bara baraa ti.
5 "Sababii Waaqni keenya waaqota kaan hunda irra guddaa ta'eef, manni
qulqullummaa kan ani ijaaruuf jiru guddaa ni ta'a. 6 Garuu waan samiiwwanii
fi samiiwwan samii olii iyyuu isa baachuu hin dandeenyeef eenyutu mana
qulqullummaa isaaf ijaaruu danda'a? Yoos iddoo aarsaan itti fuula isaa duratti
gubamu malee mana qulqullummaa isaaf ijaaruuf ani eenyu?
7 "Kanaafuu akka inni ogeeyyii koo kanneen dandeettii hojii harkaa qaban warra
abbaan koo Daawit qopheesse wajjin Yihuudaa fi Yerusaalem keessaa hojjetuuf
nama hojii warqeetii fi meetiitti, hojii naasiitii fi hojii sibiilaatti hojii kirrii diimaa
dhiilgeetiin, diimaa akka dhiigaatii fi cuquliisaatti ogummaa qabaatee ogummaa
waa soofuutiin leenjifame tokko naaf ergi.
8 "Akkasumas muka gaattiraa, muka birbirsaatii fi muka sandalii Libaanoon
keessaa naaf ergi; ani akka namoonni kee ogummaa muka muruu qaban beekaatii.
Namoonni koos namoota kee wajjin ni hojjetu; 9 sababii manni qulqullummaa kan
ani ijaaruuf jiru guddaa fi akka malee miidhagaa ta'uu qabuuf isaan muka hedduu
naa qopheessuutii. 10 Anis garboota kee warra muka muraniif daakuu qamadii
qoroosii kuma digdama, garbuu qoroosii kuma digdama, daadhii wayinii baadoosii
kuma digdamaa fi zayitii ejersaa baadoosii kuma digdama nan kenna."
11 Huuraam mootichi Xiiroos akkana jedhee xalayaadhaan Solomooniif deebise:
"WAAQAYYO waan saba isaa jaallatuuf mootii isaanii si godhe."
12 Huuraamis ittuma fufee akkana jedhe:
"WAAQAYYO Waaqni Israa'el inni samii fi lafa uume sun haa eebbifamu! Inni
Daawit mootichaaf ilma beekaa ogummaa fi hubannaan guutame kan WAAQAYYOOF
mana qulqullummaa, ofii isaatiif immoo masaraa mootummaa ijaaru tokko
kenneera.
13 "Ani kunoo Huuraamabii namicha ogummaa guddaa qabu tokko siif ergeera;
14 haati isaa nama biyya Daanii ti; abbaan isaa immoo nama biyya Xiiroosii ti. Innis
ogummaa hojii warqeetii fi meetii, kan naasiitii fi sibiilaa, kan dhagaatii fi mukaa,
akkasumas kirrii diimaa dhiilgee, cuquliisaa, diimaa akka dhiigaatii fi quncee
talbaa haphiitiin leenjifameera. Inni nama hojii waa soofuu gosa hundaatiin
ogummaa kuufate kan karoora itti kenname kam iyyuu raawwachuu danda'uu dha.
Innis ogeeyyii keetii fi ogeeyyii gooftaa koo, abbaa kee Daawit wajjin ni hojjeta.
15 "Kanaafuu amma gooftaan koo qamadii fi garbuu, zayitii ejersaatii fi daadhii
wayinii kan abdachiise sana garboota isaatiif haa ergu; 16 nus muka si barbaachisu
hunda Libaanoonii murree walitti hiinee hamma Yoopheetti galaana irra gad siif
ergina. Ati immoo Yerusaalemitti ni geeffatta."

17 Solomoon erga Daawit abbaan isaa saba lakkaa’een duubatti alagoota Israa’el
keessa jiraatan hunda ni lakkaa’e; baay’inni isaaniis 153,600 ta’e. 18 Innis isaan
keessaa nama 70,000 ba’aa baachuutti, nama 80,000 gaarran irratti dhagaa cabsuutti
ramade; nama 3,600 immoo akka isaan namoota hojii hojjechiisaniif isaan irratti
muude.

# 3

### *Solomoon Mana Qulqullummaa Ijaaruu Isaa*
### *3:1-14 kwf – 1Mt 6:1-29*

1 Solomoonis Yerusaalem keessatti iddoo Waaqayyo abbaa isaa Daawititti mul’atetti
Tulluu Mooriyaa irratti mana qulqullummaa Waaqayyoo ijaaruu jalqabe. Iddoon
kunis iddoo Daawit oobdii Ornaa namicha gosa Yebuus sanaa irratti qopheessee
dha. 2 Innis bara mootummaa isaa keessa waggaa afuraffaatti, bultii lammaffaa ji’a
lammaffaatti ijaaruu jalqabe.
3 Solomoonis mana qulqullummaa Waaqaa ijaaruudhaaf jedhee hundee dheerinni
isaa akka safartuu duriitti dhundhuma jaatama ta’ee dhundhuma digdama bal’atu
ni buuse. 4 Gardaafoon fuula mana qulqullummaa dura tures lafa irra dheerinni
isa akkuma bal’ina mana qulqullummaatti dhundhuma digdama, ol dheerinni isaa
immoo dhundhuma dhibba tokkoo fi digdama ture.
Innis keessa manichaatti warqee qulqulluu uffise. 5 Kutaa guddaa mana sanaattis
muka birbirsaa maxxansee warqee qulqulluu itti uffise; fakkii meexxiitii fi fon-
caatiinis ni miidhagse. 6 Mana qulqullummaa sanas dhagaawwan gati jabeeyyiitiin
ni bareeche. Warqeen inni itti fayyadames warqee Farwaayim ture. 7 Innis
dareeraawwan, michichilawwan balbalaa, dhaaba manaatii fi cufaawwan mana
qulqullummaatti warqee uffise; keenyan manaa sana irrattis fakkii Kiirubeelii soofe.
8 Innis Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e ijaare; lafa irra dheerinni iddoo
sanaas bal’ina mana qulqullummaatiin wal qixxee ta’ee dheerinni isaa dhundhuma
digdama, bal’inni isaa immoo dhundhuma digdama ture. Keessa isaa illee warqee
qulqulluu taalaantii* dhibba ja’a itti uffise. 9 Mismaaronni warqees saqilii shantama
ulfaatu ture. Kutaawwan ol aananittis akkasumas warqee uffise.
10 Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e keessatti kiirubeelii lama hojjechiisee
warqee itti uffise. 11 Qoochoon kiirubeelii lamaanii walumatti dhundhuma digdama
ture. Qoochoon kiirubii jalqabaa tokkichi dhundhuma shan dheeratee keenyan
mana qulqullummaa tuqa; qoochoon isaa kaan immoo dhundhuma shan dheeratee
Qoochoon kiirubii lammaffaa tuqa. 12 Akkasumas qoochoon kiirubii lammaffaa
inni tokko dhundhuma shan dheeratee gama kaaniin keenyan mana qulqullummaa
tuqa; qoochoon isaa kaan immoo dhundhuma shan dheeratee qoochoo kiirubii
jalqabaa sanaa tuqa. 13 Qoochoowwan kiirubeelii kanneenii dhundhuma digdamii
shan diriirfaman. Kiirubeeliin kunneenis fuula isaanii gara galma guddichaatti
deebifatanii miilla isaaniitiin dhaabatan.
14 Innis kirrii bifa cuquliisaa, dhiilgee, bildiimaa fi quncee talbaa haphii irraa golgaa
hojjetee fakkii kiirubeelii isa irratti tolche.
15 Innis fuula mana qulqullummaa duratti utubaawwan lama kanneen walumatti
dhundhuma soddomii shan dheeratan tolche; tokkoon tokkoon isaaniis guutuu
dhundhuma shan dheeratu mataa irraa qabu turan. 16 Foncaa wal keessa loofames
hojjetee mataa utubaawwanii irra kaa’e. Akkasumas roomaanoota dhibba tokko
hojjetee foncaa sanatti qabsiise. 17 Innis utubaawwan sana tokko karaa kibbaatiin
kaan immoo karaa kaabaatiin fuula mana qulqullummaa dura dhadhaabe. Utubaa
karaa kibbaatiin Yaakiin kan karaa kaabaatiin immoo Bo’eez jedhee moggaase.

* **3:8** 3:8 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34.

# 4

*Manni Qulqullummaa Mi'aan Guutame*
*4:2-6; 10:1-5 kwf – 1Mt 7:23-26,38-51*

1 Iddoo aarsaa kan naasii irraa hojjetamee dheerinni isaa dhundhuma digdama,
bal'inni isaa dhundhuma digdama, ol dheerinni isaa immoo dhundhuma kudhan
ta'e ni tolche. 2 Innis sibiila baqfame irraa Gaanii geengoo afaan isaa qarqara tokkoo
hamma qarqara kaaniitti dhundhuma kudhan bal'atee dhundhuma shan ol dheeratu
tolche; naannoon isaas funyoodhaan safaramee dhundhuma soddoma ta'e. 3 Hidhii
isaa jalaanis dhundhuma tokko tokko irratti fakkii korommii kudhan kudhanitu
naanneffamee ture. Korommiin sunis tarree lamaan Gaanii sana wajjin walumatti
baqfamanii hojjetaman.
4 Gaanichis korommii kudha lama kanneen isaan keessaa sadii gara kaabaatti, sadii
gara dhi'aatti, sadii gara kibbaatti, sadii immoo gara ba'aatti garagalan irra dhaabate.
Gaaniin sun dugda isaanii irra dhaabatee eegeen hunda isaanii gara walakkaatti
garagalee ture. 5 Gaaniin sun hamma barruu harkaa yabbata ture; hidhiin isaas
akkuma hidhii kubbaayyaa yookaan daraaraa hadaa fakkaata ture. Innis baadoosii
kuma sadii qabata ture.
6 Innis caabii dhiqannaa kudhan tolchee shan gama kibbaatiin, shan immoo gama
kaabaatiin ni kaa'e. Mi'oonni aarsaa gubamuuf fayyadanis caabiiwwan kanneen
keessatti miiccamu ture; Gaanicha garuu lubootatu dhiqannaadhaaf itti fayyadama
ture.
7 Innis akkuma seerri ajajutti baattuuwwan ibsaa kanneen warqee irraa hojjetaman
kudhan tolchee shan karaa kibbaatiin, shan immoo karaa kaabaatiin mana qulqul-
lummaa keessa ni kaa'e.
8 Minjaala kudhan hojjetee shan karaa kibbaatiin, shan immoo karaa kaabaatiin
mana qulqullummaa keessa ni kaa'e. Akkasumas waciitii warqee kan ittiin dhiiga
facaasan dhibba tokko ni tolche.
9 Innis oobdii lubootaa, oobdii guddichaa fi cufaawwan oobdii ni hojjete; cu-
faawwan sanas naasii itti uffise. 10 Gaanichas karaa kibbaatiin golee kibba ba'aa
keessa ni kaa'e.
11 Huuraam okkoteewwan, waan daaraan ittiin hammaaramuu fi caabiiwwan ittiin
dhiiga facaasanis ni tolche.

Huuraamis akkasiin hojii mana qulqullummaa Waaqayyoo keessatti Solomoon Mootichaaf hojjechaa ture fixe; hojiin kunis:

12 Utubaawwan lamaan;
guutuuwwan waciitii fakkaatan kanneen fiixee utubaawwanii irra jiran lamaan;
wantoota akka gingilchaa wal keessa loofaman lamaan guutuuwwan waciitii fakkaatanii fiixee utubaawwanii irra jiran sana lamaan miidhagsan;
13 wantoota akka gingilchaa wal keessa loofaman lamaan sanaafis roomaanota dhibba afur, tokkoo tokkoo wantoota sanaatiif roomaanota tarree lamaa waciitiiwwan lamaan guutuuwwanii kanneen fiixee utubaawwanii irraa sana ni miidhagsan;
14 baattuuwwan caabii isaanii wajjin;
15 gaanichii fi korommiin loonii kudha lamaan isa jalaan jiru;
16 okkotee, waan ittiin daaraa hammaaran, qabduu fooniitii fi mi'oota akkanaa hunda.

Mi'i Huuraam-Abiin mana qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF jedhee Solomoon
Mootichaaf hojjete hundinuu naasii cululuqfame irraa hojjetame. 17 Mootichis
mi'oota kanneen dirree Yordaanositti iddoo suphee kan Sukootii fi Zaaretaan gidduu

jirutti baqsiisee hojjechiise. 18 Solomoonis mi'oota kanneen hunda baay'inaan
hojjechiise; ulfinni naasiis hammam akka ta'e hin beekamne.
19 Akkasumas Solomoon mi'oota mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa jiran
hunda ni hojjechiise; isaanis:

iddoo aarsaa kan warqee irraa hojjetame;
minjaala buddeenni Ilaalchaa irra ture;
20 baattuuwwan ibsaa kanneen warqee qulqulluu irraa hojjetamanii fi ibsaawwan isaanii; ibsaawwan kunneenis akka akkuma seeraatti fuula iddoo qulqulluu duratti ibsaniif tolfaman;
21 daraarawwan, ibsaawwanii fi qabduuwwan warqee qulqulluu irraa hojjetaman;
22 waan ittiin ibsaa irraa daaraa dhadha'an, waciitiiwwan ittiin dhiiga facaasan, caabiiwwanii fi qodaa ixaanaa warqee qulqulluu irraa hojjetaman; akkasumas cufaawwan mana qulqullummaa cufaawwan gara keessaa kanneen Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluutii fi cufaawwan galma guddichaa kanneen warqee irraa hojjetaman.

# 5

1 Solomoon yommuu hojiin inni mana qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF hojjete hundi
raawwatametti mi'oota abbaan isaa Daawit Waaqaaf addaan baase jechuunis meetii,
warqee fi mi'oota hunda fidee mankuusa mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa
kaa'e.

*Taabonni Gara Mana Qulqullummaatti Fidame*
*5:2–6:11 kwf – 1Mt 8:1-21*

2 Ergasii Solomoon Xiyoon magaalaa Daawit irraa taabota kakuu WAAQAYYOO
ol fichisiisuudhaaf jedhee maanguddoota Israa'el, abbootii gosootaa hundaa fi
hangafoota maatiiwwan Israa'el Yerusaalemitti walitti waame. 3 Israa'eloonni
hundinuus ji'a torbaffaa keessa yeroo ayyaanaatti mooticha biratti walitti qabaman.
4 Yommuu maanguddoonni Israa'el hundi achi ga'anitti Lewwonni taaboticha ol
fuudhan; 5 isaanis taabota sana, dunkaana wal ga'iitii fi mi'oota qulqulleeffaman
kanneen dunkaanicha keessa turan hunda ni fidan. Lewwonni luboota ta'anis
baatanii ol isaan fidan; 6 Solomoon Mootichii fi waldaan Israa'el kan isa biratti walitti
qabaman guutuun hoolotaa fi loon akka malee baay'atanii galmeessuu fi lakkaa'uun
hin danda'amne aarsaa dhi'eessaa isa wajjin fuula taabotaa dura turan.
7 Luboonnis ergasii taabota kakuu WAAQAYYOO sana iddoo isaa gara kutaa qulqul-
licha mana qulqullummaa keessaa jechuunis Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu
ta'e sanatti ol galchanii qoochoo kiirubeelii jala kaa'an. 8 Kiirubeeliinis iddoo
taabotichaa irratti qoochoowwan isaanii babal'isanii taabotichaa fi danqaraawwan
ittiin taabota baatan ni haguugan. 9 Danqaraawwan kunneen waan akka malee
dhedheerataniif fiixeen isaanii taaboticha biraa dhedheerattee fuula Iddoo Qulqulluu
gara keessaa jiru sanaa duraa ni mul'atu ture; garuu iddoo qulqulluu sanaa alatti
hin mul'atan ture; danqaraawwan kunneen hamma har'aatti illee achuma jiru.
10 Taabota sana keessa gabateewwan kanneen Museen Kooreebitti, iddoo WAAQAYYO
erga Israa'eloonni Gibxii ba'anii booddee itti isaan wajjin kakuu seene sanatti isa
keessa kaa'e lamaan malee wanni tokko iyyuu hin turre.
11 Luboonnis Iddoo Qulqulluu sanaa ni ba'an. Luboonni achi turan hundinuu
yoo dabareen kan isaanii ta'uu baate iyyuu of qulqulleessanii turan. 12 Lewwonni
faarfattoota turan jechuunis Asaaf, Heemaan, Yeduutuun, ilmaan isaaniitii fi firoonni
isaanii wayyaa haphii quncee talbaa irraa hojjetame uffatanii iddoo aarsaa bira

karaa ba'a biiftuutiin dhaabatanii kilillee kililchaa, baganaa fi kiraara taphachaa
turan. Luboonni 120 kanneen malakata afuufan isaan wajjin turan. 13 Warri
malakata afuufanii fi faarfattoonni Waaqayyoon leellisuu fi galateeffachuudhaaf
jedhanii akkuma nama tokkootti walii galanii sagalee isaanii tokko godhatan. Isaanis
malakatatti, kilillee fi mi'oota faarfannaa biraatti fayyadamanii sagalee isaanii ol
fudhatanii Waaqayyoon galateeffachuudhaan:
"Inni gaarii dha;
jaalalli isaas bara baraan ni jiraata"
jedhanii faarfatan.
Ergasiis manni qulqullummaa Waaqayyoo duumessaan ni guutame; 14 luboonnis
sababii duumessa sanaatiif hojii isaanii hojjechuu hin dandeenye; ulfinni Waaqayyoo
mana qulqullummaa Waaqaa guutee tureetii.

# 6

1 Ergasii Solomoon akkana jedhe; "Waaqayyo akka duumessa dukkanaa'aa keessa
jiraatu dubbateera; 2 ani mana qulqullummaa guddaa, iddoo ati bara baraan jiraattu
siif ijaareera."
3 Utuma waldaan Israa'el guutuun achi dhaabatuu mootichi of irra garagalee isaan
eebbise. 4 Innis akkana jedhe:
"Waaqayyo Waaqni Israa'el inni waan afaan ofii isaatiin abbaa koo Daawitiif
waadaa gale sana harkuma ofii isaatiin guute sun haa eebbifamu. Innis akkana
jedhee tureetii; 5 'Ani gaafan saba koo Gibxii baasee jalqabee akka Maqaan koo
achi jiraatuuf jedhee mana qulqullummaa itti ijaarsifachuuf gosoota Israa'el kam
iyyuu keessatti magaalaa tokko illee hin filanne, yookaan akka inni bulchaa saba
koo Israa'el ta'uuf nama tokko illee hin filanne. 6 Amma garuu akka maqaan koo
achi jiraatuuf Yerusaalemin filadheera; akka inni saba koo Israa'elin bulchuufis
Daawitin filadheera.'
7 "Daawit abbaan koo Maqaa Waaqayyo Waaqa Israa'eliif mana qulqullummaa
ijaaruuf garaa isaatii yaada qaba ture. 8 Waaqayyo garuu abbaa koo Daawitiin
akkana jedhe; 'Waan mana qulqullummaa maqaa kootiif ijaaruun yaada kee keessa
jiruuf, ati yaada kana garaadhaa qabaachuun kee gaarii dha. 9 Ta'us namni mana
qulqullummaa naaf ijaaru si'i miti; garuu ilma kee, isuma foon keetii fi dhiiga kee
ta'etu ijaara; namni mana qulqullummaa Maqaa kootiif ijaaru isa.'
10 "Waaqayyo waadaa gale sana eegeera; akkuma Waaqayyo waadaa gale sana
ani amma iddoo abbaa koo Daawit bu'ee teessoo Israa'el irra taa'een jira; Maqaa
Waaqayyo Waaqa Israa'eliifis mana qulqullummaa ijaareera. 11 Anis achi keessa
taabota kaa'eera; taabota sana keessa immoo kakuu Waaqayyoo kan inni saba
Israa'el wajjin galetu jira."

*Kadhannaa Solomoon*
*6:12-40 kwf – 1Mt 8:22-53*
*6:41-42 kwf – Far 132:8-10*

12 Solomoon iddoo aarsaa Waaqayyoo duratti fuula guutummaa waldaa Israa'el
dura dhaabatee harka isaa ni bal'ise. 13 Waltajjii dhundhuma shan lafa irra
dheeratu, kan dhundhuma shan bal'atee dhundhuma sadii ol dheeratu tokkos naasii
irraa hojjetee walakkaa oobdii ni dhaabe; innis waltajjii sana irra dhaabatee fuula
guutummaa waldaa Israa'el duratti jilbeenfatee harka isaa gara samiitti ol ni bal'ise.
14 Akkanas jedhe:
"Yaa Waaqayyo Waaqa Israa'el, Waaqni akka keetii ol samii keessa yookaan
gad lafa irra hin jiru; ati garboota kee warra garaa guutuudhaan karaa kee irra
deemaniif kakuu fi jaalala kee kan hin geeddaramne sana ni eegda. 15 Ati waadaa

garbicha kee abbaa koo Daawitiif galte sana eegdeerta; ati afaanuma keetiin
waadaa galtee akkuma har’a ta’ee jiru kana harka keetiin fiixaan baafteerta.
16 “Ammas yaa WAAQAYYO Waaqa Israa’el, ati waan garbicha kee abbaa koo
Daawitiin, ‘Yoo ilmaan kee akkuma ati goote sana waan hojjetan hunda keessatti
of eeggachaa, akkuma seera kootti fuula koo dura deddeebi’an, ati nama fuula
koo dura teessoo Israa’el irra taa’u gonkumaa hin dhabdu’ jettee abdachiifte sana
eegiif. 17 Kanaafuu amma yaa WAAQAYYO Waaqa Israa’el, dubbiin ati garbicha kee
Daawitiif waadaa galte sun haa mirkanaa’u.
18 “Garuu dhugumaan Waaqni nama wajjin lafa irra ni jiraataa? Samiiwwan,
samiiwwan samii olii iyyuu si baachuu hin danda’an. Yoos manni qulqullummaa
kan ani ijaare kun hammam haa xinnaatuu ree! 19 Ta’us yaa WAAQAYYO Waaqa
ko, kadhannaa fi waammata garbichi kee araara barbaaduuf dhi’eessuuf gurra
kenni. Iyyaa fi kadhannaa garbichi kee fuula kee duratti dhi’eessu illee dhaga’i.
20 Iji kees halkanii fi guyyaa gara mana qulqullummaa kanaa gara iddoo ati akka
Maqaa kee achi kaa’attu dubbatte sanaa haa ilaalu. Kadhannaa garbichi kee
gara iddoo kanaatti fuula deebifatee kadhatu illee dhaga’i. 21 Yommuu isaan gara
iddoo kanaatti fuula deebifatanii kadhatanitti waammata garbicha keetii fi kan
saba kee Israa’el dhaga’i. Samii keessaa, iddoo jireenya keetiitii dhaga’i; yommuu
dhageessuttis dhiifama godhi.
22 “Yoo namni tokko ollaa ofii isaatti daba hojjetee akka kakatu gaafatamee,
innis dhufee mana qulqullummaa kana keessatti, fuula iddoo aarsaa keetii duratti
kakate, 23 ati samii irraa dhaga’iitii garboota kee gidduutti tarkaanfii fudhadhu.
Nama yakka qabu, yakka isaa matuma isaatti deebistee gatii isaa kennuufiidhaan,
nama qajeelaa immoo akkuma qajeelummaa isaatti isaaf falmuudhaan garboota
kee gidduutti murtii kenni.
24 “Yoo sabni kee Israa’el sababii cubbuu sitti hojjeteef diinaan mo’atamutti, yoo
inni deebi’ee maqaa keetiif ulfina kennee mana qulqullummaa kana keessatti si
duratti kadhatee si waammatutti, 25 samii irraa dhaga’iitii cubbuu saba kee Israa’el
dhiisiif; biyya isaanii fi abbootii isaaniitiif kennite sanattis deebisii isaan galchi.
26 “Yoo sababii sabni kee cubbuu sitti hojjeteef samiiwwan cufamanii bokkaan
dhabame, yoo isaan sababii ati isaan adabdeef iddoo kanatti fuula deebifatanii
maqaa kee ulfeessanii cubbuu isaanii irraa deebi’an, 27 ati samii irraa dhaga’iitii
cubbuu garboota kee, saba kee Israa’el dhiisiif. Karaa qajeelaa isaan jiraachuu
qaban isaan barsiisi; biyya dhaala gootee saba keetiif kennite irrattis bokkaa roobsi.
28 “Yommuu beelli yookaan dha’ichi yookaan waagiin yookaan awwaaroon
yookaan hawwaannisni yookaan korophisni biyyatti dhufutti, yookaan yommuu
magaalaawwan biyya isaanii kam iyyuu keessatti diinonni isaan marsanitti,
yookaan yommuu balaan yookaan dhukkubni kam iyyuu dhufutti, 29 yoo sabni
kee Israa’el rakkinaa fi dhukkubbii ofii isaa beekee isaan keessaa eenyu iyyuu gara
mana qulqullummaa kanaatti harka isaa bal’isee kadhannaa yookaan waammata
dhi’eesse, 30 ati samii irraa, iddoo jireenya keetiitii dhaga’i. Dhiifama godhiif;
si qofatu garaa namaa beekaatii, ati sababii garaa isaa beektuuf tokkoo tokkoo
namaatiif akkuma hojii isaa hundaatti waan isaaf malu kenni; 31 yoo akkasii isaan
bara biyya ati abbootii keenyaaf kennite keessa jiraatan hunda si sodaatanii karaa
kee irra ni deemu.
32 “Akkasumas nama ormaa kan saba kee Israa’el hin ta’in kan maqaa kee
guddichaaf, harka kee jabaa fi irree kee kan diriirfame sanaatiif jedhee biyya
fagootii dhufe, yoo inni dhufee fuula isaa gara mana qulqullummaa kanaatti
deebifatee kadhate, 33 ati samii irraa, iddoo jireenya keetiitii dhaga’i. Akka
saboonni addunyaa hundinuu akkuma saba kee Israa’el sana maqaa kee beekanii

si sodaatanii fi akka isaan akka manni ani ijaare kun maqaa keetiin waamamu illee
beekaniif jedhii waan namni ormaa sun si kadhatu hunda godhiif.
34 “Yommuu sabni kee diinota isaa loluuf jedhee gara ati itti isa ergitu kam
iyyuu duulutti, yoo inni gara magaalaa ati filattee fi gara mana qulqullummaa
kan ani Maqaa keetiif ijaare kanaatti fuula deebifatee si kadhate, 35 ati samii irraa
kadhannaa isaatii fi waammata isaa dhaga’iitii dhimma isaa isaaf raawwadhu.
36 “Waan namni cubbuu hin hojjenne tokko iyyuu hin jirreef yommuu isaan
cubbuu sitti hojjetanitti ati isaanitti aartee diina isaan booji’ee biyya fagootti
yookaan dhi’ootti isaan geessutti dabarsitee isaan kennita; 37 yoo isaan biyya
boojuudhaan itti geeffamanitti gaabbanii qalbii geeddaratanii, ‘Nu cubbuu hojjen-
neerra; balleessineerra; waan hamaas hojjenneerra’ jedhanii biyya boojuu isaanii
keessatti si kadhatan, 38 yoo isaan biyya boojuudhaan itti geeffaman sana keessatti
garaa fi lubbuu isaanii guutuudhaan gara keetti deebi’anii, gara biyya ati abbootii
isaaniitiif kenniteetti, gara magaalaa ati filattee fi gara mana qulqullummaa kan
ani Maqaa keetiif ijaare sanaatti fuula deebifatanii si kadhatan, 39 ati samii irraa,
iddoo jireenya keetiitii kadhannaa fi waammata isaanii dhaga’iitii dhimma isaanii
isaaniif raawwadhu. Saba kee kan cubbuu sitti hojjeteefis dhiifama godhi.
40 “Ammas yaa Waaqa koo kadhannaa iddoo kanatti dhi’aatu iji kee haa argu;
gurri kees haa dhaga’u.
41 “Kanaafuu yaa Waaqayyo, yaa Waaqi,
ka’iitii gara iddoo boqonnaa keetii kottu; atii fi taabonni jabina keetiis kottaa.
Yaa Waaqayyo, yaa Waaqi, luboonni kee fayyina haa uffatan;
qulqulloonni kees gaarummaa keetti haa gammadan.
42 Yaa Waaqayyo, Gooftaa, ati dibamaa kee hin gatin;
jaalala guddaa ati garbicha kee Daawitin abdachiifte sana illee yaadadhu.”

# 7

*Manni Qulqullummaa Eebbifame*
*7:1-10 kwf – 1Mt 8:62-66*

1 Yommuu Solomoon kadhannaa isaa fixatetti ibiddi samiidhaa gad bu’ee aarsaa
gubamuu fi aarsaawwan biraa nyaatee fixe; ulfinni Waaqayyoos mana qulqullum-
maa guute. 2 Sababii ulfinni Waaqayyoo mana qulqullummaa guuteef luboonni
mana qulqullummaa Waaqayyoo seenuu hin dandeenye. 3 Israa’eloonni hundi
yommuu ibidda samiidhaa gad bu’uu fi ulfina Waaqayyoo mana qulqullummaa
irratti arganitti qarqara karaa irratti jilbeenfatanii addaan lafatti gombifamuudhaan
sagadan; akkana jedhaniis Waaqayyoon galateeffatan:
“Inni gaarii dha;
jaalalli isaas bara baraan jiraata.”
4 Ergasii mootichii fi sabni hundi fuula Waaqayyoo duratti aarsaa dhi’eessan.
5 Solomoon Mootichis loon kuma digdamii lama, hoolotaa fi re’oota kuma dhibba
tokkoo fi digdama aarsaa dhi’eesse; akkasiin mootichii fi namoonni hundi mana
qulqullummaa Waaqaa eebbisan. 6 Luboonni akkuma Lewwonni mi’oota faarfannaa
Waaqayyo kanneen Daawit Mootichi ittiin Waaqayyoon jajachuudhaaf tolche kan-
neen yeroo inni, “Jaalalli isaa bara baraan ni jiraata” jedhee galateeffatutti fayyadan
sana harkatti qabatanii dhaaban. Luboonnis fuullee Lewwotaa dhaabatanii malakata
isaanii afuufan; Israa’eloonni hundis dhadhaabachaa turan.
7 Solomoonis iddoo walakkaa oobdii fuula mana qulqullummaa Waaqayyoo dura
jiru sanaa Waaqaaf addaan ni baase; inni sababii iddoon aarsaa kan inni naasii irraa
hojjetee ture sun aarsaa gubamu, kennaa midhaanii fi cooma baachuu hin danda’iinif
aarsaa gubamuu fi cooma aarsaa nagaa sana achumatti ni dhi’eesse.

8 Kanaafuu Solomoon yeroo sanatti bultii torbaaf Israa'eloota isa wajjin turan hunda wajjin jechuunis waldaa guddicha Malkaa Leeboo Hamaatii jalqabee hamma laga Gibxitti walitti qabame wajjin ayyaana ayyaaneffate. 9 Isaanis sababii bultii
torba ayyaana eebba iddoo aarsaa ayyaaneffatanii bultii torba immoo ittuma fufanii ayyaana daasii ayyaaneffataniif bultii saddeettaffaatti wal ga'ii guddaa tokko ni godhatan. 10 Solomoonis guyyaa digdamii sadaffaa ji'a torbaffaatti akka isaan
mana isaaniitti galaniif namoota gad dhiise; isaanis sababii WAAQAYYO Daawitiif, Solomoonii fi saba isaa Israa'eliif waan gaarii godheef garaa isaaniitti gammadanii ni ililchan.

### *WAAQAYYO Solomoonitti Mul'ate*
*7:11-22 kwf – 1Mt 9:1-9*

11 Yommuu Solomoon mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi masaraa mootummaa fixee waan mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi masaraa ofii isaa keessatti hojjechuu barbaade hunda raawwatetti, 12 WAAQAYYOS halkaniin isatti mul'atee akkana
jedheen:

"Ani kadhannaa kee dhaga'eera; iddoo kana illee mana qulqullummaa kan aarsaan itti dhi'eeffamu godhee ofii kootiif filadheera.

13 "Ani yommuun akka bokkaan hin roobneef samii cufutti yookaan akka inni lafa balleessuuf hawwaannisa ergutti yookaan ani yommuun saba kootti dha'icha
ergutti, 14 yoo sabni koo kan maqaa kootiin waamamu gad of qabee na kadhate, yoo inni fuula koo barbaadee karaa isaa hamaa sana irraa deebi'e, ani samii irraa dhaga'ee cubbuu isaa dhiiseefii biyya isaa nan fayyisa. 15 Ammas kadhannaa iddoo
kanatti dhi'aatuuf iji koo ni banama; gurri koos ni dhaga'a. 16 Ani akka Maqaan
koo bara baraan achi jiraatuuf mana qulqullummaa kana filadhee eebbiseera. Iji koo fi garaan koo yeroo hunda achuma jira.

17 "Yoo ati akkuma Daawit abbaan kee godhe sana fuula koo dura deemtee
waan ani ajaje hunda hojjette, yoo qajeelchawwanii fi seerawwan koo eegde, 18 ani
akkuman yeroo, 'Ati nama Israa'elin bulchu hin dhabdu' jedhee abbaa kee Daawit wajjin kakuu gale sana teessoo mootummaa keetii jabeessee nan dhaaba.

19 "Garuu yoo isin duubatti garagaltanii seeraa fi ajaja ani isinii kenne sana
irraa gara waaqota biraa tajaajiluu fi isaan waaqeffachuu dhaqxan, 20 ani biyya
koo kanan isaaniif kenne keessaa Israa'elin nan buqqisa; mana qulqullummaa kanan Maqaa kootiif qulqulleesse kana illee nan balfa; saboota hunda birattis waan kolfaatii fi waan qoosaa isa nan godha. 21 Manni qulqullummaa kunis tuullaa waan
diigamee ta'a. Namni achiin darbu hundis, 'WAAQAYYO maaliif biyya kanaa fi mana qulqullummaa kanatti waan akkasii hojjete?' jedhee itti qoosa. 22 Namoonnis,
'Sababiin inni balaa kana hunda isaanitti fideef waan isaan WAAQAYYO Waaqa abbootii isaanii kan Gibxii isaan baase sana dhiisanii, waaqota biraa hammatanii, isaanin waaqeffatanii tajaajilaniif' jedhanii ni deebisu."

# 8

### *Hojiiwwan Biraa Kanneen Solomoon Hojjete*
*8:1-18 kwf – 1Mt 9:10-28*

1 Dhuma waggaa digdamaatti yeroo itti Solomoon mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII fi mana ofii isaa ijaaretti, 2 Solomoon gandoota Huuraam isaaf kennee ture
sana haaromsee ijaaree Israa'eloota achi keessa ni qubachiise. 3 Ergasii immoo
Solomoon Hamaati Zoobaatti duulee ishee ni qabate. 4 Akkasumas gammoojjii
keessatti Tadmoorii fi magaalaawwan waa itti kuusan kanneen duraan Hamaatitti ijaaree ture hunda ni ijaare. 5 Beet Horoon oliitii fi Beet Horoon gadii magaalaawwan

da'annoo godhee dallaa dhagaa, balbalawwanii fi danqaraawwan ittiin cufan itti
tolche; 6 kana malees Baa'ilaatii fi magaalaawwan isaa kanneen waa itti kuusan
hunda, magaalaawwan gaariiwwan isaatii fi magaalaawwan fardeen isaa hunda,
waanuma Yerusaalemitti, Libaanoonittii fi biyya bulchu hunda keessatti ijaaruu
barbaade hundumaa ni ijaare.

7 Ammas namoota Israa'eloota hin ta'in jechuunis Heetota, Amoorota, Feerzota,
Hiiwotaa fi Yebuusota jalaa hafanitu jira. 8 Solomoonis sanyiiwwan namoota kanneen
hundaa warra biyyattii keessatti hafan kanneen Israa'eloonni hin barbadeessin sana
akkuma hamma har'aatti illee jiru kana akka isaan hojii garbummaa hojjetaniif
dirqisiise. 9 Solomoon garuu hojii isaatiif jedhee Israa'eloota hin garboomsine; isaan
loltoota isaa, abbootii duulaa, ajajjuuwwan gaariiwwanii fi abbootii fardaa isaa turan.
10 Isaan akkasumas qondaaltota Solomoon Mootichaa kanneen nama hojjechiisan
dhibba lamaa fi shantaman keessaa qondaaltota hangafoota turan.

11 Solomoonis, "Sababii iddoon taabonni WAAQAYYOO seene hundi qulqulluu ta'eef,
niitiin koo masaraa mootummaa Daawit Mooticha Israa'el keessa jiraachuu hin
qabdu" jedhee intala Fara'oon sana magaalaa Daawit keessaa baasee gara mana
isheef ijaare sanaatti ni fide.

12 Solomoon iddoo aarsaa kan gardaafoo mana qulqullummaa WAAQAYYOO duratti
ijaare sana irratti aarsaa gubamu WAAQAYYOOF ni dhi'eesse; 13 kanas akkuma
seera waa'ee aarsaa kan guyyaa guyyaa kan Museen Sanbataaf, Ayyaana Baatii
Haaraa fi ayyaanota waggaa keessaa sadaniif jechuunis Ayyaana Maxinoo, Ayyaana
Torbanootaa fi Ayyaana Daasiif kenne sanaatti ni dhi'eesse. 14 Innis akkuma seera
abbaa isaa Daawititti gareewwan lubootaa hojii isaaniitti, Lewwota immoo akka
isaan akkuma seera guyyaa guyyaatti tajaajila galataa kennanii fi akka isaan hojii
lubootaa gargaaraniif filate. Akkasumas tokkoo tokkoo karraatti garee eegdota karraa
ni ramade; Daawit namni Waaqaa sun waan kana ajajeetii. 15 Isaanis waan mootichi
waa'ee mankuusaa fi waa'ee waan biraa irratti lubootaa fi Lewwota ajaje irraa hin
jal'anne.

16 Hojiin Solomoon hundi gaafa hundeen mana qulqullummaa WAAQAYYOO buu-
famee jalqabee hamma dhuma manichaatti haala tolaadhaan hojjetame. Akkasiinis
manni qulqullummaa WAAQAYYOO ni xumurame.

17 Ergasii Solomoon gara magaalaawwan Eziyoon Geberii fi Eelooti kanneen biyya
Edoom keessa qarqara galaanaatti argaman sanaa dhaqe. 18 Huuraamis dooniiwwan
ajajjoonni ofii isaa kanneen galaanicha beekan ajajan ergeef. Isaanis namoota
Solomoon wajjin dooniidhaan Oofiir dhaqanii warqee taalaantii dhibba afurii fi
shantama fidanii Solomoon Mootichatti kennan.

# 9

*Mootittiin Saabaa Solomoonin Arguu Dhaqxe*
*9:1-12 kwf – 1Mt 10:1-13*

1 Mootittiin Shebaa waa'ee maqaa Solomoon dhageenyaan gaaffiiwwan jajjabood-
haan qortee isa ilaaluuf gara Yerusaalem dhufte. Isheenis miiltoo akka malee baay'ee
wajjin gaalawwan urgooftuu, warqee hedduu fi dhagaawwan gati jabeeyyii baatan
fudhattee dhufte; Solomoon bira geenyaanis waan garaa ishee jiru hunda isa wajjin
haasofte. 2 Solomoonis gaaffii ishee hundaaf deebii kenne; wanni inni isheef ibsuu
dadhabe tokko iyyuu hin turre. 3 Mootittiin Shebaa yommuu ogummaa Solomoon,
masaraa mootummaa kan inni ijaare, 4 nyaata maaddii isaa irratti dhi'aatu, haala
itti qondaaltonni isaa tataa'an, hojjettoota uffata hojii uffatanii hojjetan, warra
daadhii isaaf dhi'eessanii fi aarsaa gubamu kan inni mana qulqullummaa WAAQAYYOO
keessatti dhi'eesse argitetti akka malee dinqisiifatte.

5 Isheenis mootichaan akkana jette; “Oduun ani waa’ee waan ati hojjetteetii fi
waa’ee ogummaa keetii biyyuma kootti dhaga’e sun dhugaa dha. 6 Ani garuu
hamman dhufee ijuma kootiin argutti waan isaan jedhan sana hin amanne.
Dhugumaan guddina ogummaa keetii keessaa walakkaan isaa iyyuu natti hin
himamne; ati oduu ani dhaga’e sana akka malee caalta. 7 Namoonni kee hammam
haa gammadan! Qondaaltonni kee warri yeroo hunda fuula kee dura dhadhaabatanii
ogummaa kee dhaga’an hammam haa gammadan! 8 Waaqayyo Waaqni kee inni sitti
gammadee akka ati mootii taatee Waaqayyo Waaqa keetiif bulchituuf teessoo isaa
irra si teessise sun haa galateeffamu. Waaqni kee sababii Israa’eliif jaalala qabuu fi
sababii bara baraan jabeessee isaan dhaabuuf fedhii qabuuf akka ati murtii qajeelaa
fi qajeelummaa eegduuf isaan irratti mootii si godheera.”

9 Isheenis warqee taalaantii 120, urgooftuu akka malee baay’ee fi dhagaawwan
gati jabeeyyii mootichaaf kennite. Urgooftuun akka urgooftuu mootittiin Shebaa
Solomoon Mootichaaf kennite sanaa gonkumaa hin argamne.

10 Namoonni Hiiraamii fi namoonni Solomoon biyya Oofiir irraa warqee fidan;
akkasumas muka sandaliitii fi dhagaawwan gati jabeeyyii ni fidan. 11 Mootichis muka
sandalii sana gulantaawwan mana qulqullummaa Waaqayyootii fi kan masaraa
mootummaa, akkasumas baganaa fi kiraara faarfattootaa tolchuuf itti fayyadame.
Wanni akkasiis takkumaa Yihuudaa keessatti hin argamne.

12 Solomoon Mootichis waan isheen barbaaddee fi waan isheen kadhatte hunda
mootittii Shebaatiif ni kenne; inni waan isheen isaaf geessite caalaa kenneef. Isheenis
ergasii kaatee miiltota ishee wajjin biyya ofii isheetti deebite.

### *Badhaadhummaa Solomoon*
*9:13-28 kwf – 1Mt 10:14-29; 2Sn 1:14-17*

13 Ulfinni warqee kan wagguma waggaan Solomooniif galu taalaantii 666 ture;
14 kunis gibira daldaltoota qabeenya gurguddaatii fi kan warra qabeenya xixinnaa
irraa argamuu hin dabalatu. Akkasumas mootonni Arabaa fi bulchitoonni biyyaa
hundi Solomooniif warqee fi meetii ni fidan.

15 Solomoon Mootichis warqee tumame irraa gaachanawwan gurguddaa dhibba
lama ni tolche; tokkoon tokkoon gaachanawwan sanaas warqee saqilii dhibba ja’a
fixe. 16 Akkasumas warqee tumame irraa gaachana xixinnaa dhibba sadii ni tolche.
Tokkoon tokkoon gaachana sanaas warqee saqilii dhibba sadii fixe. Mootichis
gaachanawwan kanneen Masaraa mootummaa kan Bosona Libaanoon keessa ni
kaa’e.

17 Mootichis teessoo guddaa tokko ilka arbaa irraa hojjetee warqee qulqulluu itti
uffise. 18 Teessoon sun gulantaawwan ja’a qaba ture; ejjenni miillaa kan warqee
irraa hojjetame tokkos itti qabsiifamee ture. Karaa teessoo sanaa lamaaniinis waan
harka irra kaa’atanitu ture; tokkoo tokkoo waan harka irra kaa’atan sanaa biras
fakkii leencaa tokko tokkotu dhaabatee ture. 19 Gulantaawwan ja’aan sana irras
leenconni kudha lama tokko fiixee tokkoon, fakkiin kaan immoo fiixee kaaniin
dhadhaabachaa turan. Wanni akkasii takkumaa mootummaa biraa kamiif iyyuu hin
tolfamne. 20 Mi’i Solomoon Mootichi ittiin dhugu hundinuu warqee irraa hojjetame;
mi’i Masaraa mootummaa kan Bosona Libaanoon jedhamu sanaa hundi immoo
warqee qulqulluu irraa hojjetame. Sababii bara Solomoon keessa meetiin akka
waan gatii hin qabne tokkootti ilaalamaa tureef wanni tokko iyyuu meetii irraa hin
hojjetamne. 21 Mootichis dooniiwwan daldalaa kanneen namoonni Huuraam oofan
qaba ture. Isaanis waggaa sadii sadiitti yeroo tokko warqee, meetii fi ilka arbaa,
qamalee fi jaldeessa fidanii ni dhufu ture.

22 Solomoon Mootichi badhaadhummaa fi ogummaadhaan mootota addunyaa
hunda ni caala ture. 23 Mootonni addunyaa hundi ogummaa Waaqni garaa isaa

keessa kaa'e dhaga'uuf Solomoon bira dhufuu barbaadu ture. [24] Namni waggaa
waggaatti isa bira dhufu hundinuu kennaa mi'a meetii fi kan warqee, uffata, mi'a
lolaa, urgooftuu, fardeenii fi gaangolii fidaafii ture.
[25] Solomoon gola fardeenii fi gaariiwwanii kuma afur akkasumas fardeen kuma
kudha lama kanneen magaalaawwan gaariiwwanii keessaa fi of bira Yerusaalem
keessa kaa'ate qaba ture. [26] Innis mootota Laga Efraaxiisiitii hamma biyya
Filisxeemotaattii fi hamma daarii Gibxitti jiran hunda ni bulche. [27] Mootichi
akka meetiin Yerusaalem keessatti akkuma dhagaa baay'atu, akka mukni birbirsaas
akkuma mukkeen harbuu kanneen gaarran jalaatti baay'atu ni godhe. [28] Fardeen
Solomoon Gibxii fi biyyoota biraa hunda irraa bitamanii dhufan.

*Solomoon Du'uu Isaa*
*9:29-31 kwf – 1Mt 11:41-43*

[29] Wanni bara mootummaa Solomoon keessa hojjetaman kan biraa, jalqabaa
hamma dhumaatti kitaaba seenaa Naataan raajichaa keessatti, raajii Ahiiyaa namicha
Shiiloo sanaa keessattii fi mul'ata Iddoon namichi waa himu sun waa'ee Yerobi'aam
ilma Nebaat arge keessatti barreeffamanii jiru mitii? [30] Solomoon Yerusaalem
keessatti mootii ta'ee waggaa afurtama saba Israa'el hunda ni bulche. [31] Innis ergasii
abbootii isaa wajjin boqotee magaalaa abbaa isaa, magaalaa Daawit keessatti ni
awwaalame. Rehoobo'aam ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii ni ta'e.

# 10

*Israa'el Rehoobo'aamitti Fincile*
*10:1–11:4 kwf – 1Mt 12:1-24*

[1] Rehoobo'aamis sababii Israa'eloonni hundinuu mootii isa gochuudhaaf achi
yaa'aniif ka'ee Sheekem dhaqe. [2] Yerobi'aam ilmi Nebaat yommuu oduu kana
dhaga'etti deebi'ee dhufe; inni Solomoon Mooticha jalaa baqatee Gibxi jiraachaa
tureetii. [3] Kanaafuu Yerobi'aamitti nama erganii waamanii, innii fi Israa'el hundinuu
gara Rehoobo'aam dhaqanii akkana jedhaniin: [4] "Abbaan kee waanjoo ulfaatu nurra
kaa'ee ture; ati immoo amma hojii inni humnaan nu hojjechiise sanaa fi waanjoo
ulfaataa inni nurra kaa'e sana nuuf salphisi; nus si tajaajillaa."
[5] Rehoobo'aam immoo deebisee, "Bultii sadii keessatti deebi'aa gara koo kottaa"
jedheen. Kanaafuu namoonni sun ba'anii deeman.
[6] Ergasiis Rehoobo'aam Mootichi maanguddoota bara jireenya isaa keessa abbaa
isaa Solomoonin tajaajilaniin mari'ate. Innis, "Isin akka ani namoota kanaaf maal
deebisu na gorsitu?" jedhee gaafate.
[7] Isaanis, "Yoo ati saba kanaaf garaa laaftee isaan gammachiiftee deebii gaarii
kenniteef, isaan yeroo hunda tajaajiltoota kee ni ta'u" jedhanii deebisaniif.
[8] Rehoobo'aam garuu gorsa maanguddoonni kennaniif didee dargaggoota isa wajjin
guddatan kanneen isa tajaajilan wajjin mari'ate. [9] Innis, "Gorsi keessan maal?
Namoota, 'Waanjoo abbaan kee nurra kaa'e kana nuuf salphisi' naan jedhan kanaaf
akkamitti haa deebisnu?" jedhee isaan gaafate.
[10] Dargaggoonni isa wajjin guddatan sunis akkana jedhanii deebisaniif; "Namoonni,
'Abbaan kee waanjoo ulfaataa nurra kaa'e; ati garuu waanjoo keenya nuu salphisi'
siin jedhan; ati amma akkana jedhiin; 'Qubni koo xinnaan mudhii abbaa kootii irra
furdaa dha. [11] Abbaan koo waanjoo ulfaataa isin irra kaa'e; ani immoo hammas
caalaa iyyuu isinittan ulfaachisa. Abbaan koo qacceedhaan isin garafe; ani immoo
torbaanqabaadhaanan isin garafa.' "
[12] Bultii sadii booddee akkuma mootichi, "Guyyaa sadii keessatti deebi'aa gara koo
kottaa" jedhe sana Yerobi'aamii fi namoonni hundi gara Rehoobo'aamitti deebi'an.
[13] Mootichi immoo afaan hamaadhaan deebii kenneef. Gorsa maanguddootaas didee,

14 gorsa dargaggootaa fudhatee, “Abbaan koo waanjoo keessan isinitti ulfaachise;
ani immoo hammas iyyuu caalaa isinittan ulfaachisa. Abbaan koo qacceedhaan
isin garafe; ani immoo torbaanqabaadhaanan isin garafa” jedhe. 15 Kanaafuu
mootichi namoota sana hin dhaggeeffanne; wanni kun akka dubbiin WAAQAYYO karaa
Ahiiyaa namicha biyya Shiiloo sanaatiin Yerobi’aam ilma Nebaatitti dubbate sun
raawwatamuuf Waaqayyo biraa dhufeetii.

16 Israa’el hundi yommuu akka mootichi isaan dhaggeeffachuu dide arganitti,
akkana jedhanii mootichaaf deebii kennan:

“Nu Daawit irraa qooda maalii qabna?
Ilma Isseey irraas maal qabna?
Yaa Israa’el gara dunkaana keetii!
Yaa Daawit atis mana kee eeggadhu!”

Kanaafuu Israa’eloonni hundi gara mana ofii isaaniitti deebi’an. 17 Israa’eloota
magaalaawwan Yihuudaa keessa jiraatan garuu Rehoobo’aamtu bulchaa ture.

18 Rehoobo’aam mootichis Hadooraam itti gaafatamaa hojjettoota hojii humnaa ni
erge; Israa’eloonni immoo dhagaadhaan tumanii isa ajjeesan. Rehoobo’aam mootichi
garuu ariitiidhaan gaarii ofii isaa yaabbatee jalaa miliqee Yerusaalemitti baqate.
19 Kanaafuu Israa’eloonni hamma har’aatti mana Daawititti fincilaniiru.

# 11

1 Rehoobo’aam yommuu Yerusaalem ga’etti akka isaan Israa’elitti duulanii Re-
hoobo’aamiif mootummaa deebisaniif jedhee mana Yihuudaa fi Beniyaam keessaa
namoota loluu danda’an kuma dhibba tokkoo fi saddeettama walitti qabe.

2 Garuu dubbiin WAAQAYYOO kun akkana jedhee gara nama Waaqaa gara She-
maa’iyaa ni dhufe; 3 “Rehoobo’aam ilma Solomoon mooticha Yihuudaatii fi Is-
raa’eloota Yihuudaa fi Beniyaam keessa jiraatan hundaan akkana jedhi; 4 ‘WAAQAYYO
akkana jedha: Obboloota keessan Israa’eloota loluudhaaf jettanii ol hin ba’inaa.
Sababii wanni kun ana biraa dhufeef tokkoon tokkoon keessan gara mana keessaniitti
galaa.’ ” Kanaafuu isaan dubbii WAAQAYYOOTIIF ajajamanii Yerobi’aamitti duuluu
dhiisanii deebi’an.

### *Rehoobo’aam Magaalaawwan Yihuudaa Jabeessee Ijaare*

5 Rehoobo’aam Yerusaalem keessa jiraatee Yihuudaa keessatti immoo maga-
alaawwan ittisaa ni ijaarrate; isaanis: 6 Beetlihem, Eexaam, Teqoo’aa, 7 Beet Zuuri,
Sookoo, Adulaam, 8 Gaati, Maareeshaa, Ziif, 9 Adooraayim, Laakkiish, Azeeqaa,
10 Zoraa, Ayaaloonii fi Kebrooni. Isaan kunneen magaalaawwan Yihuudaa fi
Beniyaam keessatti jabeeffamanii ijaaramanii dha. 11 Innis ittisa isaanii jajjabeessee
ajajjoota itti galche; nyaata, zayitii ejersaatii fi daadhii wayiniis achitti ni kuuse.
12 Magaalaawwan hunda keessas gaachanaa fi eeboo kaa’ee akka isaan jabaatan ni
godhe. Akkasiinis Yihuudaa fi Beniyaamin kan ofii isaa godhate.

13 Luboonnii fi Lewwonni aanaalee Israa’el hunda keessa jiraatan gara isaa goran.
14 Sababii Yerobi’aamii fi ilmaan isaa akka luboota WAAQAYYOOTTI isaan ilaaluu
didaniif, Lewwonni lafa dheeda isaanii fi qabeenya isaanii dhiisanii gara Yihuudaa
fi Yerusaalem dhufan. 15 Innis iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraatii fi
fakkii waaqota tolfamoo bifa re’ee fi bifa jabbiitiin hojjete sanaaf luboota ofii isaa
ni muuddate. 16 Warri gosoota Israa’el hunda keessaa garaan isaanii WAAQAYYO
Waaqa Israa’el bira jiru WAAQAYYO Waaqa abbootii isaaniitiif aarsaa dhi’eessuudhaaf
Lewwota duukaa bu’anii Yerusaalem dhaqan. 17 Isaanis mootummaa Yihuudaa
jajjabeessaa waggaa sadii Rehoobo’aam ilma Solomoon ni gargaaran; isaan waggoota
sadan kana keessa karaa Daawitii fi Solomoon duukaa bu’aa turaniitii.

### *Maatii Rehoobo’aam*

18 Rehoobo’aamis Maahalaati intala Yeriimooti ilma Daawitii fi Abiihaayil fuudhe;
Abiihaayil kun immoo intala Eliiyaab ilma Isseey. 19 Isheenis: Ye’uushi, Shemaariyaa
fi Zahaam deesseef. 20 Ergasii immoo Ma’akaa intala Abesaaloom ni fuudhe; isheenis
Abiyaa, Ataayi, Ziizaa fi Sheloomiit deesseef. 21 Rehoobo’aamis niitotaa isaa kaanii fi
saajjatoowwan isaa caalaa Ma’akaa intala Abesaaloom ni jaallate. Innis walumatti
niitota kudha saddeet, saajjatoowwan jaatama, ilmaan digdamii saddeetii fi intallan
jaatama qaba ture.
22 Rehoobo’aamis mootii isa gochuuf jedhee Abiyaa ilma Ma’akaa sana obboloota
isaa ilmaan mootii keessaa hoogganaa godhee muude. 23 Innis ogummaan ilmaan
isaa keessaa tokko tokko aanaalee Yihuudaa fi Beniyaam keessa, gara magaalaawwan
jabeeffamanii ijaaraman hundaatti ni erge. Ilmaan isaaf nyaata isaan ga’u kennee
niitota baay’ee illee isaan ni fuusise.

# 12

### *Shiishaaq Yerusaalemitti Duule*
### *12:9-16 kwf – 1Mt 14:21,25-31*

1 Rehoobo’aam erga mootii ta’ee mootummaa isaa cimsatee booddee innii fi
Israa’eloonni isa wajjin jiraatan hundi seera WAAQAYYOO eeguu didan. 2 Sababii
isaan WAAQAYYOOF amanamuu didaniif waggaa shanaffaa Rehoobo’aam mootii ta’etti
Shiishaaq mootiin Gibxi Yerusaalemin waraane. 3 Innis gaariiwwan kuma tokkoo fi
dhibba lama, abbootii fardaa kuma jaatamaa fi loltoota Liibiyaa, kan Sukkiimiitii
fi kan Itoophiyaa warra baay’inni isaanii hin beekamne kanneen isa wajjin Gibxii
dhufan fudhatee, 4 magaalaawwan Yihuudaa kanneen jajjabeeffamanii ijaaraman
qabatee hamma Yerusaalemiitti ni dhufe.
5 Ergasii Shemaa’iyaan raajichi gara Rehoobo’aamii fi bulchitoota Yihuudaa
kanneen Shiishaaq sodaatanii Yerusaalem keessatti walitti qabamanii dhufee,
“WAAQAYYO akkana jedha; ‘Isin na dhiiftan; anis harka Shiishaaqitti isin kenneera’ ”
jedhe.
6 Bulchitoonni Israa’elii fi Rehoobo’aam mootichi gad of deebisanii, “WAAQAYYO
qajeelaa dha” jedhan.
7 Yommuu WAAQAYYO akka isaan gad of deebisan argetti, dubbiin WAAQAYYOO
akkana jedhee gara Shemaa’iyaa dhufe; “Waan isaan gad of deebisaniif, ani
dafeen isaan fura malee isaan hin balleessu. Dheekkamsi koos karaa Shiishaaqiin
Yerusaalemitti hin dhangalaasu. 8 Ta’us isaan akka garaa garummaa ana tajaajiluu
fi mootota biyya biraa tajaajiluu gidduu jiru beekaniif isaaf ni garboomu.”
9 Shiishaaq mootiin Gibxi yeroo Yerusaalem qabatetti qabeenya mana qulqul-
lummaa WAAQAYYOOTII fi qabeenya masaraa mootummaa guurratee deeme.
Gaachanawwan warqee kanneen Solomoon hojjete dabalatee waan guurratee gale.
10 Kanaafuu Rehoobo’aam mootichi iddoo isaanii buusuuf jedhee gaachana naasii
hojjetee ajajjuuwwan eegdota dabaree eegumsa balbala masaraa mootummaatti
kenne. 11 Yeroo mootichi gara mana qulqullummaa WAAQAYYOO dhaqu hunda
eegdonni sun gaachana sana baachaa isa wajjin deemanii ergasii immoo kutaa
eegdotaatti deebisu ture.
12 Sababii Rehoobo’aam gad of deebiseef dheekkamsi WAAQAYYOO isa irraa ni
deebi’e; kanaafuu inni guutummaatti hin balleeffamne; dhugumaan Yihuudaa keessa
haala gaariitu ture.
13 Rehoobo’aam mootichis Yerusaalem keessatti of cimsee mootii ta’ee ni jiraate.
Yeroo inni mootii ta’etti umuriin isaa waggaa afurtamii tokko ture. Innis waggaa
kudha torba Yerusaalem magaalaa WAAQAYYO Maqaa ofii isaa achi kaa’achuuf jedhee

gosoota Israa'el hunda keessaa filate sana keessatti mootii ta'ee bulche. Maqaan
haadha isaa Na'amaa ture; isheenis gosa Amoon turte. 14 Inni sababii WAAQAYYOON
barbaaduuf garaa isaa hin qopheessiniif waan hamaa hojjete.
15 Wantoonni bara mootummaa Rehoobo'aam keessa jalqabaa hamma dhumaatti
hojjetaman galmee seenaa kan Shemaa'iyaa raajichaa fi seenaa dhalootaa kan Iddoon
namichi ilaalaan sun barreesse keessatti barreeffamaniiru mitii? Rehoobo'aamii fi
Yerobi'aam gidduu waraana gargari hin cinnetu ture. 16 Rehoobo'aam abbootii ofii
wajjin boqotee Magaalaa Daawit keessatti ni awwaalame. Ilmi isaa Abiyaan iddoo
isaa bu'ee mootii ta'e.

# 13

*Abiyaa Mooticha Yihuudaa*
*13:1-2; 13:22–14:1 kwf – 1Mt 15:1-2,6-8*

1 Bara mootummaa Yerobi'aam keessa waggaa kudha saddeettaffaatti Abiyaan
mootii Yihuudaa ta'e; 2 innis Yerusaalem keessa jiraatee waggaa sadii ni bulche.
Maqaan haadha isaa Miikaayaa ture; isheen intala Uurii'eel namicha Gibe'aa sanaa
turte.
Abiyaa fi Yerobi'aam gidduu waraanatu ture. 3 Abiyaan humna waraanaa kan
namoota lola danda'an kuma dhibba afur of keessaa qabuun duule; Yerobi'aam
immoo loltoota ciccimoo kuma dhibba saddeetiin ba'ee isa eegate.
4 Abiyaan Gaara Zemaaraayim kan biyya gaaraa Efreem irra dhaabatee akkana
jedhe; "Yerobi'aamii fi Israa'el hundi mee na dhaggeeffadhaa! 5 Isin akka WAAQAYYO
Waaqni Israa'el sun mootummaa Israa'el Daawitii fi sanyiiwwan isaatiif kakuu
soogiddaan bara baraan kenne hin beektanii? 6 Ta'us Yerobi'aam ilmi Nebaat
tajaajilaan Solomoon ilma Daawit sun gooftaa isaatti ni fincile. 7 Yeroo Rehoobo'aam
ilmi Solomoon ijoollee waa murteeffachuu fi isaaniin mormuufis dandeettii hin
qabneetti kashlabboonni faayidaa hin qabne tokko tokko naannoo isaatti walitti
qabamanii isaan morman.
8 "Isin amma mootummaa WAAQAYYOO kan sanyii Daawit harka jiruun mormuuf
yaadaa jirtan. Isin dhugumaan tuuta guddaa dha; fakkiiwwan jabbiiwwan warqee
kanneen akka isaan waaqota keessan isinii ta'aniif Yerobi'aam isiniif tolche sanas of
biraa qabdu. 9 Isin garuu luboota WAAQAYYOO, ilmaan Arooniitii fi Lewwota of keessaa
baaftanii akkuma namoota biyyoota kaanii luboota ofii keessanii hin muudannee?
Namni dibicha loonii tokkoo fi korbeeyyii hoolaa torba qabatee of qulqulleessuu
dhufu kam iyyuu waan waaqota hin ta'in sanaaf luba ta'a.
10 "Nuuf garuu WAAQAYYO Waaquma keenya; nu isa hin dhiifne. Luboonni
WAAQAYYOON tajaajilanis ilmaan Aroon; Lewwonni immoo isaan ni gargaaru. 11 Isaan
ganamaa fi galgala hunda aarsaa gubamuu fi ixaana urgaa'u WAAQAYYOOF ni
dhi'eessu. Minjaala akka seeraatti qulqullaa'e irra buddeena kaa'anii galgala galgala
immoo ibsaa baattuu ibsaa kan warqee irraa hojjetame irra jiru ni qabsiisu. Nu
ajaja WAAQAYYO Waaqa keenyaa ni eegna; isin garuu isa dhiiftaniirtu. 12 Waaqni
nu wajjin jira; inni qajeelchaa keenya. Luboonni isaas malakata isaanii afuufanii
waraana isinitti ni waamu. Yaa namoota Israa'el isin hin milkooftaniitii, WAAQAYYO
Waaqa abbootii keessanii hin lolinaa."
13 Yerobi'aam yeroo kanatti akka isaan utuma inni fuula Yihuudaa duraan jiruu
karaa dugda duubaatiin isaan marsaniif loltoota isaa jaratti ni erge. 14 Namoonni
Yihuudaa garagalanii akka duraa fi duubaan marfaman ni argan. Isaanis gara
WAAQAYYOOTTI ni iyyatan; luboonni immoo malakata isaanii ni afuufan; 15 namoonni
Yihuudaas iyya waraanaa ni dhageessisan. Waaqnis iyya isaaniitiin Yerobi'aamii fi
Israa'eloota hunda fuula Abiyaa fi Yihuudaa duraa ni barbadeesse. 16 Israa'eloonni

fuula Yihuudaa duraa ni baqatan; Waaqnis dabarsee harka Yihuudootaatti isaan
kenne. 17 Abiyaa fi namoonni isaa akka malee isaan miidhan; kanaafuu loltoota
Israa'el ciccimoo keessaa namni kuma dhibba shan ni dhume. 18 Lola sana irrattis
namoonni Israa'el akka malee ni dha'aman; namoonni Yihuudaa garuu sababii
WAAQAYYO Waaqa abbootii isaanii abdataniif ni mo'atan.
19 Abiyaanis Yerobi'aamin ari'ee magaalaawwan Beet'eel, Yishaanaa fi Efroon,
gandoota naannoo isaanii jiran wajjin irraa ni fudhate. 20 Yerobi'aam bara
mootummaa Abiyaa keessa deebi'ee bayyanachuu hin dandeenye. WAAQAYYO isa
dha'e; innis ni du'e.
21 Abiyaan garuu jabaachaa ni deeme. Innis niitota kudha afur fuudhee ilmaan
digdamii lamaa fi dubara kudha ja'a ni dhalche.
22 Wanni Abiyaan bara mootummaa isaa keessa hojjete biraa, waan inni hojjetee fi
wanni inni dubbate galmee seenaa raajicha Iddoo keessatti barreeffameera.

# 14

1 Abiyaanis abbootii ofii isaa wajjin boqotee Magaalaa Daawit keessatti awwaalame.
Ilmi isaa Aasaan iddoo isaa bu'ee mootii ta'e; bara isaa keessas biyyattiin waggaa
kudhan nagaadhaan jiraatte.

*Aasaa Mooticha Yihuudaa*
*14:2-3 kwf – 1Mt 15:11-12*

2 Aasaan waan fuula WAAQAYYO Waaqa isaa duratti gaarii fi qajeelaa ta'e hojjete.
3 Innis iddoowwan aarsaa waaqota ormaa fi iddoowwan sagadaa kanneen gaarran
irraa ni diige; soodduuwwan dhagaa fi siidaawwan Aasheeraa ni caccabse. 4 Akka
sabni Yihuudaa WAAQAYYO Waaqa abbootii isaa barbaadu, akka seera isaa fi ajaja
isaaf bulu ni ajaje. 5 Magaalaawwan Yihuudaa hunda keessaas iddoowwan sagadaa
kanneen gaarran irraa fi iddoowwan aarsaa ixaanaa balleesse; mootummaanis isa
jalatti nagaadhaan ni jiraate. 6 Innis waan biyyattiin nagaa argatteef Yihuudaa
keessatti magaalaawwan dallaa jabaa qaban ni ijaare. Sababii WAAQAYYO boqonnaa
isaaf kenneef waggoota sana keessa namni tokko iyyuu lola isatti hin kaafne.
7 Innis namoota Yihuudaan akkana jedhe; "Kottaa nu magaalaawwan kanneen haa
ijaarru; dallaa gamoo, cufaa fi danqaraawwan qabu itti naannessinee haa ijaarru;
sababii nu WAAQAYYO Waaqa keenya barbaanneef lafti kun ammas keenyuma; nu
isa barbaanne; innis karaa hundaan boqonnaa nuuf kenne." Isaan ni ijaaran; hojiin
isaaniis ni milkaa'eef.
8 Aasaan namoota Yihuudaa kanneen gaachana gurguddaa fi eeboo qabatan kuma
dhibba sadii, namoota Beniyaam kanneen gaachana xixinnaa fi xiyyawwan qabatan
kuma dhibba lamaa fi saddeettama qaba ture. Isaan kunneen hundi loltoota ciccimoo
turan.
9 Zeraan namichi Itoophiyaa tokko immoo loltoota miliyoona tokkoo fi gaariiwwan
dhibba sadii fudhatee hamma Maareeshaatti isaanitti ni duule. 10 Aasaanis isatti ba'e;
isaanis Sulula Zefaataa keessatti Maareeshaa iddoo lolaa qabatan.
11 Kana irratti Aasaan WAAQAYYO Waaqa isaa waammatee akkana jedhe; "Yaa
WAAQAYYO, kan akka kee namoota humna hin qabne gargaaree namoota jajjaboo jalaa
baasu tokko iyyuu hin jiru. Yaa WAAQAYYO Waaqa keenya, nu sitti of kennineerraatii
nu gargaari; maqaa keetiinis waraana akka malee guddaa kanatti duulleerra. Yaa
WAAQAYYO ati Waaqa keenya; akka namni sitti cimuuf ofitti hin dhiisin."
12 WAAQAYYOS fuula Aasaatii fi Yihuudaa duraa namoota Itoophiyoota ni dha'e;
namoonni Itoophiyaas ni baqatan. 13 Aasaa fi loltoonni isaas hamma Geraaraatti
isaan ari'an. Waan Baay'een isaanii dhumaniif namoonni Itoophiyaa deebi'anii
bayyanachuu hin dandeenye; isaan fuula WAAQAYYOO fi fuula loltoota isaa duratti
barbadeeffamaniiruutii. Namoonni Yihuudaas boojuu baay'ee fudhatanii deebi'an.

14 Isaan sababii sodaachisni guddaan Waaqayyo biraa jaratti dhufeef gandoota
naannoo Geraaraa jiran hunda barbadeessan. Isaanis sababii wantoonni booji'aman
hedduun achi turaniif gandoota kanneen ni saaman. 15 Akkasumas qubatawwan
tiksootaa dha'anii karra hoolotaa fi re'oota akka malee hedduu fi gaalawwan illee
booji'anii fudhatan. Ergasiis Yerusaalemitti dacha'an.

# 15

*Jijjiirama Aasaan Fide*
*15:16-19 kwf – 1Mt 15:13-16*

1 Hafuurri Waaqaa Azaariyaa ilma Oodeed irra ni bu'e. 2 Innis Asaatti gad ba'ee
akkana jedheen; "Aasaa fi Yihuudaan hundi, Beniyaamis na dhaga'aa. Yoo isin isa
wajjin jiraattan Waaqayyo isin wajjin ni jiraata. Yoo isin isa barbaaddan inni isiniif
ni argama; yoo isin isa dhiiftan immoo innis isin dhiisa. 3 Yeroo dheeraadhaaf
Israa'eloonni Waaqa dhugaa malee luba isaan barsiisuu fi seera malee jiraachaa
turan. 4 Yeroo rakkina isaaniitti garuu gara Waaqayyo Waaqa Israa'elitti deebi'anii
isa barbaadan; innis isaaniif ni argame. 5 Sababii bara sana keessa jiraattonni
biyyattii hundi raafama keessa turaniif ba'uu fi deebi'anii galuun amansiisaa hin
turre. 6 Sababii Waaqni rakkina gosa hundaatiin isaan dhiphisaa tureef sabni tokko
saba biraatiin, magaalaan tokko magaalaa biraatiin barbadeeffamaa ture. 7 Isin
garuu jabaadhaa; harki keessanis hin laafin; hojiin keessan badhaasa argataatii."

8 Aasaan yommuu dubbii kanaa fi raajii Azaariyaa ilma Oodeed dhaga'etti ni
jajjabaate. Innis waaqota jibbisiisoo harka namaatiin hojjetaman biyya Yihuudaa,
Beniyaamii fi magaalaawwan biyya gaaraa Efreem keessatti qabate hunda keessaa
balleesse. Iddoo aarsaa Waaqayyoo kan gardaafoo mana qulqullummaa Waaqayyoo
dura jiru illee ni haaromse.

9 Innis Yihuudaa fi Beniyaam akkasumas warra biyya Efreem, Minaasee fi
Simi'oonii dhufanii alagummaadhaan isaan gidduu jiraachaa turan hunda walitti
qabe; namoonni akka malee baay'een akka Waaqayyo Waaqni isaa isa wajjin jiru
arganii Israa'el keessaa gara isaa dhufaniitii.

10 Isaanis waggaa kudha shanaffaa Aasaan mootii ta'etti ji'a sadaffaa keessa
Yerusaalemitti walitti qabaman. 11 Yeroo sanattis waan booji'anii fidan keessaa
sangoota dhibba torbaa fi hoolota kuma torba Waaqayyoof aarsaa godhan. 12 Isaanis
garaa fi lubbuu isaanii guutuudhaan Waaqayyo Waaqa abbootii isaanii barbaadu-
udhaaf kakuu ni galan. 13 Namni Waaqayyo Waaqa Israa'el hin barbaanne hundi
xinnaas ta'u guddaan, dhiiras ta'u dubartiin ni ajjeefama ture. 14 Isaanis sagalee
guddaa fi iyyaan, malakataa fi gaanfa afuufuudhaan Waaqayyoof ni kakatan.
15 Yihuudoonni hundinuu waan garaa guutuudhaan kakataniif kakuu kanatti akka
malee gammadan. Isaan fedhiidhaan Waaqa ni barbaadan; innis isaaniif argame.
Kanaafuu Waaqayyo karaa hundaan boqonnaa isaaniif ni kenne.

16 Aasaan Mootichi akkoo isaa Ma'akaa iyyuu waan isheen fakkii Asheeraa
jibbisiisaa tokko tolfatteef iddoo ulfinaa kan isheen akka haadha mootiitti qabaatte
sana irra ishee buuse. Aasaan fakkii sana caccabsee Sulula Qeedroon keessatti ni
gube. 17 Yoo inni iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa guutumaan guutuutti
Israa'el keessaa balleessuu baate iyyuu garaan Aasaa bara jireenya isaa guutuu
Waaqayyoof kennamee ture. 18 Innis meetii fi warqee akkasumas mi'oota innii fi
abbaan isaa Waaqaaf addaan baasan gara mana qulqullummaa Waaqayyootti ni
galche.

19 Hamma bara mootummaa Aasaa waggaa soddomii shanaffaatti lolli tokko iyyuu
hin kaane.

# 16

*Bara Mootummaa Aasaa Kan gara Dhumaa*
*16:1-6 kwf – 1Mt 15:17-22*
*16:11–17:1 kwf – 1Mt 15:23-24*

1 Bara mootummaa Aasaa keessa waggaa soddomii ja'affaatti Ba'ishaan mootichi
Israa'el biyya Yihuudaatti duulee akka namni tokko iyyuu daangaa biyya Aasaa
mooticha Yihuudaa keessaa hin baane yookaan akka achi hin seenne gochuudhaaf
jedhee Raamaa jabeessee ijaare.
2 Aasaanis meetii fi warqee mankuusa mana qulqullummaa Waaqayyootii fi
masaraa mootummaa isaa keessaa baasee Ben-Hadaad mooticha Sooriyaa kan
Damaasqoo taa'ee bulchaa ture sanaaf ni erge. 3 Innis, "Akkuma walii galtee kanaan
dura abbaa koo fi abbaa kee gidduu ture sanaatti ammas anaa fi si gidduu walii
galteen haa jiraatu. Kunoo ani meetii fi warqee siif ergeera. Akka inni narraa
deebi'uuf dhaqiitii walii galtee Ba'ishaan mooticha Israa'el wajjin qabdu sana diigi"
jedheen.
4 Ben-Hadaadis yaada Aasaa moootichaa fudhatee ajajjuuwwan loltoota isaa ma-
gaalaawwan Israa'elitti duulchise. Isaanis magaalaawwan Iiyoon, Daan, Abeel
Maayimii fi magaalaawwan mankuusa Niftaalem hunda rukutan. 5 Ba'ishaanis
yommuu waan kana dhaga'etti Raamaa ijaaruu dhiisee hojii ofii isaa dhaabe.
6 Aasaan Mootichis namoota Yihuudaa hunda ni fide; isaanis dhagaawwanii fi muka
Ba'ishaan ittiin hojjechaa ture Raamaadhaa fudhatanii deeman. Aasaanis Gebaa fi
Miisphaa ittiin ijaarrate.
7 Yeroo sanattis Hanaaniin ilaalaan sun Aasaa mooticha Yihuudaa bira dhufee
akkana jedheen; "Waan ati Waaqayyo Waaqa kee dhiiftee mootii Sooriyaa amanat-
teef loltoonni Sooriyaa si harkaa ba'aniiru. 8 Namoonni Itoophiyaa fi Liibiyaa
gaariiwwanii fi abbootii fardaa kanneen akka malee baay'ee qaban sun loltoota
jajjaboo hin turree? Ta'us waan ati Waaqayyoon abdatteef inni dabarsee harka keetti
isaan siif kenne. 9 Iji Waaqayyoo warra garaa guutuun isa amanatan jajjabeessuuf
guutummaa addunyaa ni ilaalaatii. Sababii ati hojii gowwummaa hojjetteef kana
booddee waraanni sirraa hin caamu."
10 Aasaan sababii kanaaf ilaaltuu sanatti ni aare; akka malee dheekkamees mana
hidhaa keessa isa buuse. Yeruma sanatti Aasaan namoota tokko tokko gara jabinaan
ni cunqurse.
11 Wanni bara mootummaa Aasaa keessa jalqabaa hamma dhumaatti hojjetame
kitaaba mootota Yihuudaa fi Israa'el keessatti barreeffameera. 12 Aasaanis bara
mootummaa isaa keessa waggaa soddomii saglaffaatti dhukkuba miillaatiin akka
malee ni dhiphate. Ta'us inni dhukkuba akka malee hamaa kana keessatti illee
ogeeyyii fayyaa malee gargaarsa Waaqayyoo hin barbaanne. 13 Ergasii Aasaan bara
mootummaa isaa keessa waggaa afurtamii tokkoffaatti du'ee abbootii ofii isaa wajjin
boqote. 14 Isaanis awwaala inni Magaalaa Daawit keessatti dhagaa cabsee ofii isaatii
qopheeffatetti isa ni awwaalan. Wasaasaa urgooftuuwwanii fi shittoodhaan guutame
irra isa ni ciibsan; ulfina isaatiifis ibidda guddaa bobeessan.

# 17

*Yehooshaafaax Mooticha Yihuudaa*

1 Yehooshaafaax ilmi Aasaa iddoo abbaa isaa mootii ta'e; Israa'elittis ni cime. 2 Innis
magaalaawwan Yihuudaa kanneen jabeeffamanii ijaaraman hunda keessa loltoota ni
qubachiise; Yihuudaa fi magaalaawwan Efreem kanneen abbaan isaa Aasaan qabatee
ture keessas loltoota magaalaa eegan ni kaa'e.

3 Sababii Yehooshaafaax bara dargaggummaa isaa keessa karaa abbaan isaa
Daawit jiraachaa ture irra deddeebi'eef WAAQAYYO isa wajjin ture. Inni Ba'aal
duukaa hin buune; 4 waan Israa'eloonni hojjetan duukaa bu'uu dhiisee Waaqa
abbootii isaa duukaa bu'uudhaan ajaja isaa ni eege. 5 WAAQAYYOs harka isaa jalatti
mootummaa cimsee ni dhaabe; akka inni qabeenyaa fi ulfina guddaa qabaatuufis
Yihuudoonni hundi Yehooshaafaaxiif kennaa fidaa turan. 6 Garaan isaas karaa
WAAQAYYOOTIIF banamaa ture; kana malees iddoowwan sagadaa kanneen gaarran
irraatii fi siidaawwan Aasheeraa Yihuudaa keessaa ni balleesse.
7 Bara mootummaa isaa keessaa waggaa sadaffaatti akka isaan magaalaawwan
Yihuudaa keessatti barsiisaniif qondaaltota isaa jechuunis Ben-Haayil, Obaadiyaa,
Zakkaariyaas, Naatnaa'elii fi Miikaayaasin ni erge. 8 Lewwonni tokko tokko isaan
wajjin turan; jarris: Shemaa'iyaa, Netaaniyaa, Zebaadiyaa, Asaaheel, Shemiiraamoot,
Yoonaataan, Adooniyaa, Xoobbiyyahuu fi Xoob-Adooniyaa fe'a. Luboonni immoo
Eliishaamaa fi Yehooraam turan. 9 Isaanis Kitaaba Seera WAAQAYYOO fuudhanii
deemanii guutummaa Yihuudaa keessatti ni barsiisan; magaalaawwan Yihuudaa
hunda keessas deemanii saba ni barsiisan.
10 Sababii sodaachisni WAAQAYYOO mootummoota biyyoota naannoo Yihuudaa jiran
irra bu'eef isaan Yehooshaafaax wajjin wal hin lolle. 11 Filisxeemonni tokko tokko
kennaawwanii fi meetii akka gibiraatti fidanii Yehooshaafaaxiif ni kennan; Araboonni
immoo bushaayee jechuunis korbeeyyii hoolaa kuma torbaa fi dhibba torbaa fi
korbeeyyii re'ee kuma torbaa fi dhibba torba fidaniif.
12 Yehooshaafaaxis ittuma caalchisee jabaachaa ni deeme; Yihuudaa keessattis
da'annoowwanii fi magaalaawwan mi'a itti kuusan ni ijaare; 13 inni mankuusaalee
baay'ee magaalaawwan Yihuudaa keessaa qaba ture. Loltoota muuxannoo qabanis
Yerusaalem keessa turse. 14 Haalli isaan itti maatii maatiidhaan hiriiranis kana:

Yihuudaa keessaa ajajjoota gareewwanii 1,000:
Adinaahi ajajjichi loltoota 300,000 wajjin;
15 isatti aanee Yehohaanaan ajajjichi loltoota 280,000 wajjin;
16 isatti aanee immoo Amaasiyaa ilma Zikrii kan tajaajila WAAQAYYOOTIIF jedhee
of kenne loltoota 200,000 wajjin.
17 Gosa Beniyaam keessaa:
Eliyaadaan loltuun jabaan sun loltoota xiyyaa fi gaachana qabatan 200,000
wajjin;
18 isatti aanee immoo Yehoozaabaad namoota lolaaf qophaa'an 180,000 wajjin
hiriire.

19 Isaan kunneen namoota inni magaalaawwan guutummaa Yihuudaa keessatti
jabeeffamanii ijaaraman keessa qubachiiseen alatti warra mooticha tajaajilaa turanii
dha.

# 18

*Miikiyaas Waan Ahaabiin Mormu Raaje*
*18:1-27 kwf – 1Mt 22:1-28*

1 Yehooshaafaax yeroo kanatti qabeenyaa fi ulfina guddaa qaba ture; innis karaa
fuudhaatiin Ahaabitti ni firoome. 2 Innis waggoota muraasa booddee Ahaabin arguuf
gara Samaariyaatti gad bu'e. Ahaabis isaa fi namoota isa wajjin turaniif hoolotaa
fi sangoota baay'ee qalee akka inni Raamooti Gili'aad lolu isa sossobate. 3 Ahaab
mootichi Israa'el, "Ati Raamooti Gili'aadin loluuf na wajjin ni baataa?" jedhee
Yehooshaafaax mooticha Yihuudaa gaafate.

Yehooshaafaaxis, “Ani akkuma kee ti; sabni koos akkuma saba keetii ti; nu waraana
kana irratti isin wajjin dhaabanna” jedhee deebise. 4 Yehooshaafaax garuu mootii
Israa’eliin, “Duraan dursii gorsa WAAQAYYOO gaafadhu” jedhe.

5 Kanaafuu mootichi Israa’el raajota dhibba afur walitti qabee, “Nu Raamooti
Gili’aadin loluudhaaf baanu moo dhiisnu?” jedhee ni gaafate.

Isaanis, “Dhaqi; Waaqni dabarsee harka mootichaatti ishee kennaatii” jedhanii
deebisaniif.

6 Yehooshaafaax immoo, “Akka nu waa isa gaafannuuf raajiin WAAQAYYOO tokko
iyyuu as hin jiruu?” jedhee gaafate.

7 Mootiin Israa’el immoo Yehooshaafaaxiin, “Amma illee namichi nu karaa isaatiin
WAAQAYYOON waa gaafachuu dandeenyu tokko jira; garuu sababii inni yeroo hunda
waa’ee koo waan hamaa malee waan gaarii raajii hin dubbanneef ani isa nan jibba.
Innis Miikaayaa ilma Yimlaa ti” jedhe.

Yehooshaafaax immoo deebisee, “Mootichi akkas jechuu hin qabu” jedheen.

8 Kanaafuu mootiin Israa’el qondaaltota isaa keessaa nama tokko waamee,
“Dhaqiitii Miikaayaa ilma Yimlaa sana dafii fidi” jedheen.

9 Mootichi Israa’elii fi Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa uffata isaanii kan moo-
tummaa uffatanii balbala Samaariyaa seensisu bira oobdii keessa teessoo isaanii irra
tataa’anii raajonni hundi immoo fuula isaanii duratti raajii dubbachaa turan. 10 Kana
irratti Zedeqiyaan ilmi Keni’aanaa gaanfawwan sibiilaa tolchee, “WAAQAYYO, ‘Ati
hamma isaan dhumanitti gaanfawwan kanneeniin warra Sooriyaa ni wawwaraanta’
jedha” jedhee labse.

11 Raajonni kaan hundinuus waanuma kana raajan. Isaanis, “WAAQAYYO dabarsee
harka mootichaatti ishee kennaatii, Raamooti Gili’aadin lolii mo’adhu” jedhan.

12 Ergamaan Miikaayaa waamuu dhaqe sunis, “Kunoo raajonni kaan utuu gargar
hin gorin milkaa’uu mootichaaf himaa jiru. Maaloo dubbiin kees dubbii isaaniitiin
tokko akka ta’uuf atis waan tolaa dubbadhu” jedheen.

13 Miikaayaan garuu deebisee, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa, ani waanuma Waaqni
koo jedhu qofan isatti hima” jedhe.

14 Yommuu inni achi ga’ettis mootichi, “Yaa Miikaayaa, nu Raamooti Gili’aaditti
duullu moo ani dhiisu?” jedhee isa gaafate.

Miikaayaanis, “Isaan dabarfamanii harka keetti kennamuutii waraanii mo’adhu”
jedhee deebise.

15 Mootichi immoo, “Ani yeroo hammamin akka ati dhugaa malee waan tokko illee
natti hin himne maqaa WAAQAYYOOTIIN si kakachiisa?” jedheen.

16 Kana irratti Miikaayaan akkana jedhee deebise; “Ani Israa’eloota hunda akkuma
hoolota tiksee hin qabneetti gaara irratti bittinnaa’an nan arge. WAAQAYYOS, ‘Sabni
kun gooftaa hin qabu. Tokkoon tokkoon isaanii nagaadhaan mana isaaniitti haa
deebi’an.’ ”

17 Mootiin Israa’elis Yehooshaafaaxiin, “Ani akka inni waa’ee koo waan hamaa
malee waan gaarii tokko iyyuu hin raajne sitti hin himnee?” jedhe.

18 Miikiyaas ittuma fufee akkana jedhe; “Kanaafuu ati dubbii WAAQAYYOO dhaga’i;
ani utuu WAAQAYYO teessoo isaa irra taa’ee, ergamoonni samii hundis mirgaa fi
bitaa isaatiin dhadhaabatanuu nan arge. 19 WAAQAYYOS, ‘Eenyutu akka inni dhaqee
Raamooti Gili’aadin lolee achitti du’uuf Ahaab moooticha Israa’el gowwoomsa?’ jedhe.

“Inni tokko waan tokko jedha; inni kaan immoo waan biraa jedha. 20 Dhuma irratti
hafuurri tokko dhufee fuula WAAQAYYOO dura dhaabatee, ‘Anatu isa gowwoomsa’
jedhe.

“WAAQAYYOS, ‘Ati maaliin isa dogoggorsita?’ jedhee isa gaafate.

21 “Innis, ‘Ani dhaqee afaan raajota isaa hunda keessatti hafuura sobaa nan ta’a’
jedhe.

“WAAQAYYOS, ‘Dhaqiitii isa dogoggorsi; ni milkooftaatii’ isaan jedheen.
22 “Kanaafuu WAAQAYYO amma afaan raajota kee kanneenii keessa hafuura sobaa
kaa’eera. WAAQAYYO badiisa sitti ajajeera.”
23 Kana irratti Zedeqiyaan ilmi Keni’aanaa ol ba’ee Miikaayaa fuula keessa kabalee,
“Hafuurri WAAQAYYOO yommuu sitti dubbachuuf na biraa ba’etti karaa kam deeme?”
jedhee gaafate.
24 Miikaayaanis, “Ati gaafa dhokachuuf jettee gara kutaa manaa kan gara keessaatti
ol galtutti argita” jedhee deebiseef.
25 Kana irratti mootiin Israa’el akkana jedhee ajaje; “Miikaayaa fuudhaatii gara
Aamoon bulchaa magaalaa fi gara Yoo’aash ilma mootichaatti geessaatii, 26 ‘Mootichi
akkana jedha: Hamma ani nagaan deebi’utti namicha kana mana hidhaa keessa
buusaa; buddeenaa fi bishaan malees homaa hin kenninaafii’ jedhaan.”
27 Miikaayaan immoo, “Yoo ati nagaan deebite, WAAQAYYO karaa kootiin hin dub-
banne” jedheen. Ittuma fufees, “Yaa saboota, isin hundi dubbii koo akeekkadhaa!”
jedhe.

### *Ahaab Raamooti Gili’aaditti Ajjeefame*
### *18:28-34 kwf – 1Mt 22:29-36*

28 Kanaafuu mootiin Israa’elii fi Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa Raamooti
Gili’aaditti ol ba’an. 29 Mootiin Israa’el Yehooshaafaaxiin, “Ani eenyummaa koo
dhokfadheen lola seena; ati garuu uffata mootummaa uffadhu” jedhe. Kanaafuu
mootiin Israa’el eenyummaa ofii isaa dhokfatee lola seene.
30 Yeroo kanatti mootiin Sooriyaa ajajjoota gaariiwwan isaatiin, “Mootii Israa’elitti
malee xinnaas ta’u guddaatti, nama tokkottuu lola hin kaasinaa” jedhee ajaje.
31 Ajajjoonni gaariiwwanii yommuu Yehooshaafaaxin arganitti, “Kun mootii Israa’el”
jedhanii yaadan. Kanaafuu isa rukutuuf itti garagalan; Yehooshaafaax garuu
guddisee iyye; WAAQAYYOS isa gargaare. Waaqnis isa irraa isaan deebise; 32 ajajjoonni
gaariiwwaniis yommuu akka inni mootii Israa’el hin ta’in arganitti isa ari’uu dhiisan.
33 Garuu namichi tokko xiyya ofii isaa darbatee akkuma tasaa qomee sibiilaa
gidduudhaan mooticha Israa’el ni waraane. Mootichis ooftuu gaarii isaatiin, “Gaarii
naannessiitii lola keessaa na baasi. Ani madaa’eeraatii” jedhe. 34 Lolli sunis guyyaa
guutuu ittuma cimee oole; mootiin Israa’elis ol jedhee hamma aduun dhiitutti gara
warra Sooriyaatti garagalee irkatee gaarii isaa keessa oole. Yommuu biiftuun lixxettis
ni du’e.

## 19

1 Yeroo Yehooshaafaax mootiin Yihuudaa nagaadhaan gara masaraa isaa
Yerusaalemitti deebi’etti, 2 Yehuun raajichi ilmi Hanaanii sun isa simachuuf ba’ee
akkana isaan jedhe; “Ati nama hamaa gargaaruu fi warra WAAQAYYOON jibban
jaallachuu qabdaa? Kanaafuu dheekkamsi WAAQAYYOO sitti dhufeera. 3 Ta’us
waan ati siidaawwan Aasheeraa barbadeessitee fi sababii garaan kee Waaqa
barbaaduudhaaf qophaa’aa ta’eef wanni gaariin si biratti argameera.”

### *Yehooshaafaax Abbootii Murtii Muude*

4 Yehooshaafaax Yerusaalem keessa jiraate; innis Bersheebaadhaa hamma biyya
gaaraa Efreemitti saba gidduu deemee akka isaan gara WAAQAYYO Waaqa abbootii
isaaniitti deebi’an godhe. 5 Innis biyya sana keessatti magaalaawwan Yihuudaa
kanneen dallaa jabaa qaban hundatti abbootii murtii muude. 6 Akkanas jed-
heen; “Waan hojjettan qalbeeffadhaa; WAAQAYYO isa yeroo isin murtii kennitanitti
isin wajjin jiru sanaaf jettaniiti malee namaaf jettanii murtii hin kennitaniitii.
7 WAAQAYYOON sodaachuun isin keessa haa jiraatu. Sababii WAAQAYYO Waaqa keenya

bira dabni yookaan wal caalchisuun yookaan matta'aa fudhachuun hin jirreef of eeggannaadhaan murtii kennaa."

8 Yehooshaafaax akkasumas Yerusaalem keessatti akka isaan seera WAAQAYYOO eegsisanii dubbii wal dhabiisaatiif illee araara buusaniif Lewwota, lubootaa fi hangafoota maatiiwwan Israa'el tokko tokko muude. Isaanis Yerusaalem keessa
jiraatan. 9 Innis akkana jedhee isaan ajaje; "Isin amanamummaa fi garaa guutuun
WAAQAYYOON sodaachaa tajaajiluu qabdu. 10 Himatawwan namoota biyya keessanii kanneen magaalaa keessa jiraatan irraa waa'ee dhiiga dhangalaasuu yookaan waa'ee seeraa, waa'ee ajajawwanii, waa'ee labsii yookaan qajeelcha diduu irratti gara keessan dhufan, akka isaan WAAQAYYOTTI cubbuu hin hojjenneef akeekkachiisaa. Yoo kanaa achii dheekkamsi isaa isinii fi obboloota keessanitti ni dhufaa. Waan kana godhaa; isinis cubbuu hin hojjettan.

11 "Waan kan WAAQAYYOO ta'e kam irratti iyyuu Amariyaan lubichi hangafti, waan kan mootii ta'e kam irratti iyyuu Zebaadiyaan ilmi Ishmaa'eel hoogganaan gosa Yihuudaa isin irratti muudamaniiru; Lewwonni immoo qondaaltota ta'anii fuula keessan dura ni tajaajilu. Jabaadhaa hojjedhaa; WAAQAYYO warra waan gaarii hojjettan wajjin haa jiraatu."

# 20

*Yehooshaafaax Mo'aabii fi Amoon Mo'ate*

1 Kana booddee Mo'aabonnii fi Amoononni Mi'uunota tokko tokko wajjin Yehooshaafaaxin loluuf dhufan.

2 Namoonni tokko tokkos dhufanii, "Waraanni akka malee guddaan isaa Edoom gama Galaanaatii sitti dhufaa jira. Duulli kunis kunoo Een Gaadii lafa Hazezoon
Taamaar jedhamu ga'ee jira" jedhanii Yehooshaafaaxitti himan. 3 Yehooshaafaaxis
waan akka malee sodaateef WAAQAYYOON waammachuuf murteeffate; guutummaa
Yihuudaa keessattis sooma labse. 4 Namoonni Yihuudaas gargaarsa WAAQAYYOO
barbaacha walitti ni qabaman; isaan dhugumaan isa barbaacha magaalaawwan Yihuudaa hunda keessaa ni dhufan.

5 Yehooshaafaaxis mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa oobdii haaraa dura
waldaa Yihuudaa fi Yerusaalem gidduu dhaabatee 6 akkana jedhe:

"Yaa WAAQAYYO, Waaqa abbootii keenyaa, ati Waaqa samii keessa jiraattu mitii? Ati mootummoota sabootaa hunda bulchita; humnii fi jabinni si harka jiru; namni
siin mormuu danda'u tokko iyyuu hin jiru. 7 Yaa Waaqa keenya, ati jiraattota
biyya kanaa fuula saba kee Israa'el duraa baaftee biyyattii bara baraan sanyiiwwan
Abrahaam michuu kee sanaaf hin kenninee? 8 Isaanis biyya sana keessa jiraatanii
Maqaa keetiif mana qulqullummaa ni ijaaran; akkanas jedhan: 9 'Yoo wanni
hamaan nutti dhufe, yoo goraadeen, murtiin yookaan dha'ichi yookaan beelli nutti dhufe, nu fuula kee dura mana qulqullummaa kan Maqaa keetiin waamamu kana dura dhaabannee dhiphina keenya keessatti sitti iyyanna; atis nu dhageessee nu oolchitta.'

10 "Amma garuu namoonni Amoon, kan Mo'aabii fi kan Gaara See'iir kanneen ati akka Israa'eloonni yeroo Gibxii dhufanitti isaan hin tuqne gootee akkasiin
badiisa oolan sun as jiru. 11 Kunoo akka isaan biyya ati dhaala gootee nuu kennite
keessaa nu baasuudhaan galata keenya nuu deebisuuf dhufan ilaali. 12 Yaa Waaqa
keenya ati isaanitti hin murtuu? Nu waraana guddaa nutti dhufe kana of irraa deebisuudhaaf humna hin qabnu. Nu waan goonu hin beeknu; iji keenya garuu sirra jira."

13 Namoonni Yihuudaa hundinuu niitota isaanii, ijoollee fi daa'imman isaanii wajjin fuula WAAQAYYOO dura dhadhaabatanii turan.

14 Yahizii'eel ilma Zakkaariyaas ilma Benaayaa, ilma Ye'ii'eel ilma Mataan
Lewwicha sanyii Asaaf sana utuma inni waldaa keessa dhabatuu Hafuurri
WAAQAYYOO isa irra bu'e.
15 Innis akkana jedhe; "Yehooshaafaax yaa mootii, warri Yihuudaa fi Yerusaalem
keessa jiraattan hundinuu dhaga'aa! WAAQAYYO akkana isiniin jedha: 'Isin sababii
waraana guddaa kanaatiif jettanii hin sodaatinaa yookaan abdii hin kutatinaa. Lolli
kun kan Waaqaa ti malee kan keessan miti. 16 Bor isaanitti gad bu'aa. Isaan karaa
malkaa Ziizi ol ba'u; isin immoo gammoojjii Yiruu'eel keessatti qarqara sululichaa
irratti isaan argattu. 17 Lola kana loluu isin hin barbaachisu. Isin iddoo iddoo
keessan qabadhaa; yaa Yihuudaa fi Yerusaalem jabaadhaa dhaabadhaatii mo'annoo
WAAQAYYO isiniif kennu ilaalaa. Hin sodaatinaa; abdiis hin kutatinaa. Bor isaanitti
ba'aa; WAAQAYYO isin wajjin dhaabata.' "
18 Yehooshaafaax adda isaatiin lafatti gombifame; namoonni Yihuudaa fi
Yerusaalem hundinuus fuula WAAQAYYOO duratti addaan lafatti gombifamanii ni
sagadan. 19 Ergasii immoo garee Qohaatii fi Qooraahi keessaa Lewwonni tokko tokko
dhaabatanii, sagalee guddaadhaan WAAQAYYO Waaqa Israa'el ni galateeffatan.
20 Isaanis guyyaa itti aanu ganamaan ka'anii gammoojjii Teqoo'aatti ni qajee-
lan. Yehooshaafaaxis akkuma isaan ba'aniin dhaabatee, "Namoonni Yihuudaa fi
Yerusaalem na dhaggeeffadhaa! Isin ni jabaattuutii WAAQAYYO Waaqa keessan
amanadhaa; raajota isaa illee amanaa isin ni milkooftuutii" jedhe. 21 Yehooshaafaax
erga namoota wajjin mari'atee booddee akka isaan loltoota dura deemanii,

"WAAQAYYOON galateeffadhaa;
jaalalli isaa bara baraan jiraataatii"

jechaa WAAQAYYOON faarfatanii sababii ulfina qulqullummaa isaatiif isa leellisaniif
faarfattoota muude.
22 Akkuma isaan faarfachuu fi galateeffachuu jalqabaniinis WAAQAYYO namoota
Amoon kan Mo'aabii fi kan Gaara See'iir kanneen Yihuudaatti duulan sana dura
waraana riphee eeggatu tokko ni kaa'e; isaanis ni mo'ataman. 23 Namoonni
Amoonii fi Mo'aab namoota Tulluu See'iir irraa dhufan guutumaan guutuutti
barbadeessuudhaaf itti ka'an. Isaanis erga namoota See'iir dhufan sana fixanii
booddee deebi'anii wal fixan.
24 Namoonni Yihuudaas yommuu iddoo gara gammoojjiitti garagalee jiru ga'anii
waraana guddaa sana ilaalanitti reeffa lafatti kufe qofa argan; namni tokko iyyuu hin
miliqne. 25 Kanaafuu Yehooshaafaaxii fi namoonni isaa boojuu isaanii guurrachuu
dhaqan; isaanis mi'a lolaa hedduu fi uffata akkasumas mi'oota gatii guddaa baasan
kan guurratanii fixuu hin dandeenye achitti ni argatan. Boojuun argames waan akka
malee baay'ee tureef walitti qabuuf bultii sadii fudhate. 26 Bultii afuraffaatti lafa
itti WAAQAYYOOF galata dhi'eessan sana Sulula Beraakaa keessatti walitti qabaman.
Kanaafuu iddoon suni hamma har'aatti Sulula Beraakaa jedhamee waamama.
27 Namoonni Yihuudaa fi Yerusaalem sababii WAAQAYYO waan isaan ittiin diinota
isaanii irratti gammadan isaaniif kenneef Yehooshaafaaxiin hoogganamanii gam-
machuudhaan Yerusaalemitti deebi'an. 28 Isaanis Yerusaalem seenanii baganaa,
kiraaraa fi malakata qabatanii gara mana qulqullummaa WAAQAYYOO ni dhaqan.
29 Mootummoonni biyyoota hundaas yommuu akka itti WAAQAYYO diinota Israa'el
lole dhaga'anitti Waaqa sodaachuun isaan qabate. 30 Mootummaan Yehooshaafaaxis
waan Waaqni isaa karaa hundaan boqonnaa isaaf kenneef nagaadhaan ni jiraate.

### *Dhuma Bara Mootummaa Yehooshaafaax*
*20:31–21:1 kwf – 1Mt 22:41-50*

31 Akkasiin Yehooshaafaax mootii ta'ee Yihuudaa ni bulche. Inni yeroo mootii
Yihuudaa ta'etti nama umuriin isaa waggaa soddomii shan ture; innis Yerusaalem

keessa taa'ee waggaa digdamii shan ni bulche. Maqaan haadha isaa Azuubaa ture;
isheenis intala Shilhii turte. 32 Innis karuma abbaa isaa Aasaa irra deeme malee
isa irraa hin jal'anne; fuula WAAQAYYOO durattis waan qajeelaa hojjete. 33 Ta'us
iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa hin diigamne ture; namoonnis qalbii
isaanii gara Waaqa abbootii isaaniitti hin deebine ture.

34 Wantoonni bara mootummaa Yehooshaafaax keessa jalqabaa hamma dhumaatti
hojjetaman kanneen biraa seenaa Yehuu ilma Hanaanii kan kitaaba mootota Israa'el
keessatti galmeeffame sana keessatti barreeffamaniiru.

35 Ergasii Yehooshaafaax mootichi Yihuudaa, Ahaaziyaa mootii Israa'el kan hojiin
isaa jibbisiisaa ta'e sana wajjin walii galtee godhate. 36 Innis dooniiwwan daldalaa
hojjechuuf isaan walii gale; isaanis Eziyoon Geberitti dooniiwwan ni hojjechiisan.
37 Elii'ezer raajichi ilmi Doodaawaahuu namichi Maareeshaa sun, "Sababii ati
Ahaaziyaa wajjin walii galtee godhatteef WAAQAYYO hojii kee ni diiga" jedhee
Yehooshaafaaxiin mormee raajii ni dubbate. Dooniiwwanis ni caccaban; gara
Tarshiishis dhaquu hin dandeenye.

# 21

1 Ergasii Yehooshaafaax abbootii isaa wajjin boqotee isaanuma biratti magaalaa
abbaa isaa magaalaa Daawit keessatti awwaalame. Yehooraam ilmi isaas iddoo
isaa bu'ee mootii ta'e. 2 Obboloonni Yehooraam ilmaan Yehooshaafaax Azaariyaa,
Yehii'eel, Zakkaariyaas, Ezaariyaas, Miikaa'elii fi Shefaaxiyaa jedhaman ture. Isaan
kunneen hundi ilmaan Yehooshaafaax mooticha Israa'el sanaa turan. 3 Abbaan
isaaniis kennaa meetii, kan warqeetii fi mi'oota gatii guddaa baasanii akkasumas
magaalaawwan Yihuudaa keessaa kanneen dallaa jabaa qaban isaanii kenne; garuu
sababii inni hangafa ta'eef mootummaa isaa Yehooraamiif kenne.

### *Yehooraam Mooticha Yihuudaa*
### *21:5-10,20 kwf – 2Mt 8:16-24*

4 Yehooraam erga mootummaa abbaa isaa irratti jabaatee dhaabatee booddee
obboloota isaa hundaa fi qondaaltota Israa'el tokko tokko goraadeedhaan ni fixe.
5 Yehooraam yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa soddomii lama ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa saddeet ni bulche. 6 Innis akkuma manni Ahaab
godhee ture sana karaa mootota Israa'el duukaa bu'e; intala Ahaab fuudhee tureetii.
Fuula WAAQAYYOO durattis waan hamaa hojjete. 7 Ta'us WAAQAYYO sababii Daawit
wajjin kakuu galeef mana Daawit balleessuun fedhii WAAQAYYOO hin turre. Inni isaa
fi sanyii isaatiif ibsaa bara baraa dhaabuuf kakuu galee ture.

8 Bara Yehooraam keessa Edoom Yihuudaatti fincilee mootii ofii isaa moosifate.
9 Kanaafuu Yehooraam qondaaltota isaatii fi gaariiwwan isaa hunda wajjin achi
dhaqe. Warri Edoomis isaa fi ajajjoota gaariiwwan isaa marsan; inni garuu halkaniin
ka'ee isaan ni dha'e. 10 Edoom hamma har'aatti illee akkuma Yihuudaatti finciletti
jira.

Libnaanis sababii Yehooraam WAAQAYYO Waaqa abbootii isaa dhiiseef yeruma
sanatti fincile. 11 Tulluuwwan Yihuudaa irrattis iddoowwan sagadaa ijaaree akka
namoonni Yerusaalem sagaagalan gochuudhaan Yihuudaa karaa irraa jal'ise.

12 Yehooraamis xalayaa Eeliyaas raajicha biraa ergame tokko ni argate; xalayaan
sunis akkana jedha:

"WAAQAYYO Waaqni abbaa kee Daawit akkana jedha: 'Ati karaa abbaa kee
Yehooshaafaax irra yookaan karaa Aasaa mooticha Yihuudaatti hin adeemne. 13 Ati
garuu karaa mootota Israa'el irra deemuudhaan akkuma manni Ahaab godhe sana
Yihuudaa fi saba Yerusaalem sagaagalchiifte. Obboloota kee miseensota mana
abbaa keetii kanneen sirra wayyan sana illee ni fixxe. 14 Kanaafuu WAAQAYYO

amma saba kee, ilmaan kee, niitota kee fi waan ati qabdu hunda dha'icha
hamaadhaan dha'uuf jira. 15 Ati mataan kee iyyuu dhukkuba mar'umaanii kan
guyyaa guyyaadhaan hammaachaa deemuun qabamta; dhuma irrattis dhukkubichi
mar'umaan kee alatti yaasa.' "

16 WAAQAYYOS Filisxeemotaa fi Araboota saba Itoophiyaatti dhi'oo jiraatan
Yehooraamitti ni kaase. 17 Isaanis Yihuudaa dha'anii qabatan; mi'a masaraa mootii
keessatti argamu hunda, ilmaanii fi niitota isaa wajjin booji'anii ni fudhatan. Ilma
isaa Ahaaziyaa isa quxisuu sana malee ilmi tokko iyyuu hin hafneef.

18 Waan kana hundaa booddee WAAQAYYO dhukkuba mar'umaanii kan hin
fayyineen Yehooraamin ni dha'e. 19 Innis oolee bulee dhuma waggaa lammaffaatti
sababii dhukkuba hamaa sanaatiif mar'umaan isaa keessaa ni kufe; akka malees
dhiphatee ni du'e. Namoonni isaa akka abbootii isaatiif godhan sana ulfina isaatiif
jedhanii ibidda hin bobeessine.

20 Yehooraam yeroo mootii ta'etti nama waggaa soddomii lamaa ture. Innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa saddeet ni bulche. Yeroo inni du'etti namni tokko
iyyuu isaaf hin gaddine; innis Magaalaa Daawit keessatti awwaalame malee lafa
mootonni itti awwaalamanitti hin awwaalamne.

# 22

*Ahaaziyaa Mooticha Yihuudaa*
*22:1-6 kwf – 2Mt 8:25-29*
*22:7-9 kwf – 2Mt 9:21-29*

1 Sababii Saamtonni Araboota wajjin qubata loltootaa seenan sun ilmaan isaa
hangafoota hunda fixaniif namoonni Yerusaalem Ahaaziyaa ilma Yehooraam sana
iddoo isaa buusanii mootii godhan. Kanaafuu Ahaaziyaa ilmi Yehooraam mooticha
Yihuudaa sun mootii ta'ee bulchuu ni jalqabe.

2 Ahaaziyaa yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii lama ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa tokko ni bulche. Maqaan haadha isaa Ataaliyaa
dha; isheenis intala ilma Omrii turte.

3 Innis sababii haati isaa akka inni dogoggora hojjetu isa jajjabeessaa turteef karaa
mana Ahaab duukaa bu'e. 4 Sababii manni Ahaab erga abbaan isaa du'ee booddee
gorsitoota isaa ta'uudhaan gara yakka hojjechuutti isa oofaniif, innis akkuma manni
Ahaab godhe sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. 5 Inni yeroo
Yehooraam ilma Ahaab mooticha Israa'el wajjin Raamooti Gili'aaditti Hazaa'eel
mooticha Arraam loluudhaaf duuletti gorsuma isaanii duukaa bu'e. Warri Arraamis
Yooraamin ni madeessan; 6 kanaafuu inni madaa isaan yeroo inni Raamaat keessatti
Hazaa'eel mooticha Arraam wajjin wal loletti isa madeessan sana fayyuuf jedhee
Yizri'eelitti deebi'e.

Kana irratti Ahaaziyaan ilmi Yooraam mootichi Yihuudaa sababii inni madaa'ee
tureef Yehooraam ilma Ahaab arguuf gara Yizri'eelitti gad bu'e.

7 Sababii inni Yehooraamin gaafachuu dhaqeef Waaqni Ahaaziyaatti badiisa fide.
Ahaaziyaan yommuu achi ga'etti Yehuu ilma Nimshii sana simachuuf Yooraam wajjin
gad ba'e. Yehuun immoo nama WAAQAYYO akka inni mana Ahaab balleessuuf dibee
dha. 8 Yehuun utuu mana Ahaabitti muraa jiruu qondaaltota Yihuudaa fi ilmaan fi-
roota Ahaaziyaa kanneen Ahaaziyaa tajaajilaa turan argee isaan ni galaafate. 9 Ergasii
immoo inni Ahaaziyaa barbaacha ni deeme; namoonni Yehuus Samaariyaadhaa
iddoo inni itti dhokatee turee qabanii Yehuutti fidanii isa ni ajjeesan. Isaanis,
"Inni ilma Yehooshaafaax namicha garaa guutuudhaan WAAQAYYOON barbaade sanaa
ti" jedhanii isa ni awwaalan. Kanaafuu mana Ahaaziyaa keessaa namni aangoo
mootummaa qabachuu danda'u tokko illee hin turre.

*Ataaliyaa fi Yoo'aash*
*22:10–23:21 kwf – 2Mt 11:1-21*

10 Ataaliyaan haati Ahaaziyaa yommuu akka ilmi ishee du'e argitetti kaatee maatii
mana mootii Yihuudaa guutumaan guutuutti balleessite. 11 Yehooshebaati intalli
Yehooraam Mootichaa garuu ilmaan moototaa kanneen ajjeefamuuf turan keessaa
Yoo'aash ilma Ahaaziyaa hattee fudhachuudhaan guddiftuu isaa wajjin dinqatti ni
dhoksite. Yoshabeti intalli Iyyooraam Mootichaa, niitiin Yehooyaadaa lubichaa sun
obboleettii Ahaaziyaa turte; isheenis akka Ataaliyaan isa hin ajjeefneef mucaa sana
dhoksite. 12 Innis bara Ataaliyaan biyya bulchaa turte hunda isaan wajjin mana
qulqullummaa Waaqaa keessatti dhokfamee waggaa ja'a jiraate.

# 23

1 Yehooyaadaan waggaa torbaffaatti jabina ofii isaa ni argisiise. Innis ajajju-
uwwan dhibbaa jechuunis Azaariyaa ilma Yirooham, Ishmaa'eel ilma Yehohaanaan,
Azaariyaa ilma Oobeed, Ma'aseyaa ilma Adaayaa fi Eliishaafaax ilma Zikrii wajjin
kakuu seene. 2 Isaanis guutummaa Yihuudaa keessa deemanii magaalaawwan hunda
keessaa Lewwotaa fi hangafoota maatiiwwan Israa'el walitti ni qaban. Yommuu isaan
Yerusaalem ga'anittis, 3 waldaan guutuun mana qulqullummaa Waaqaa keessatti
mooticha wajjin kakuu seene.

Yehooyaadaanis akkana isaaniin jedhe; "Akkuma Waaqayyo waa'ee sanyii Daawit
waadaa gale sanatti, ilmi moottichaa mootii ni ta'a. 4 Wanni isin gochuu qabdan
isa kana: Isin lubootaa fi Lewwota guyyaa Sanbataa hojiitti ramadamtan keessaa
harka sadii keessaa harki tokko karra, 5 harka sadii keessaa harki tokko masaraa
mootummaa, harka sadii keessaa harki tokko immoo karra 'Karra Hundee' jedhamu
sana eegaa; namoonni kaan hundi immoo oobdii mana qulqullummaa Waaqayyoo
keessatti argamuu qabu. 6 Lubootaa fi Lewwota hojii irra jiran malee namni tokko
iyyuu mana qulqullummaa Waaqayyoo hin seenin; isaan sababii qulqullaa'aniif
seenuu ni danda'u; warri kaan hundi garuu waan Waaqayyo isaan ajaje eeguu
qabu. 7 Lewwonni tokkoon tokkoon isaanii mi'a lolaa harkatti qabatanii moottichatti
naanna'anii dhadhaabachuu qabu. Namni mana qulqullummaa seenu kan biraa kam
iyyuu haa ajjeefamu. Lafa inni dhaqu hundatti moottichatti dhi'oo jiraadhaa."

8 Lewwonnii fi namoonni Yihuudaa hundinuu akkuma Yehooyaadaan lubichi ajaje
sana ni godhan. Sababii Yehooyaadaan lubichi gareewwan eegumsaa keessaa tokko
illee gad hin dhiisiniif tokkoon tokkoon isaaniis namoota isaanii warra guyyaa
Sanbataatiin hojiitti bobba'anii fi warra hojii irraa boqotan ni fudhatan. 9 Innis
eeboowwan, gaachanawwan gurguddaa fi xixinnaa Daawit Mootichaa kanneen mana
qulqullummaa Waaqaa keessa turan ajajjuuwwan dhibbaatiif ni kenne. 10 Akka
namoonni hundi mi'a lolaa harkatti qabatanii karaa kibba mana qulqullummaatii
hamma karaa kaaba mana qulqullummaatti iddoo aarsaatii fi mana qulqullummaa
biratti moottichatti naanna'anii dhaabatan ni godhe.

11 Yehooyaadaa fi ilmaan isaa ilma moottichaa fidanii mataa isaa irra gonfoo kaa'an;
isaanis garagalcha kakuu itti kennanii akka inni mootii ta'e ni labsan. Isa dibaniis,
"Mootichi bara baraan haa jiraatu!" jedhanii ni iyyan.

12 Ataaliyaan yommuu waca namoota fiiganii mooticha leellisanii dhageessetti,
isaan bira gara mana qulqullummaa Waaqayyoo dhaqxe. 13 Yeroo isheen ilaaltetti
mootichi balbala irra utubaa isaa bira dhaabatuu ni argite. Qondaaltonnii fi
warri malakata afuufan mooticha bira turan; namoonni biyya sanaa hundinuus
gammadanii malakata afuufaa turan; faarfattoonni immoo meeshaa muuziiqaatiin
faarfannaa qajeelchaa turan. Kana irratti Ataaliyaan uffata ishee tarsaaftee, "Kun
maltummaa dha! Kun maltummaa dha!" jettee iyyite.

14 Yehooyaadaan lubichis, "Hiriira gidduudhaa baasaatii ishee fidaa; nama ishee
irra dhufu kam iyyuu goraadeedhaan ajjeesaa" jedhee ajajjuuwwan dhibbaa kanneen
kutaawwan loltootaa sana irratti ramadaman erge. Lubichi, "Mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessatti ishee hin ajjeesinaa" jedhee tureetii. 15 Kanaafuu isaan akkuma
isheen karra "Karra Fardaa" jedhamu kan masaraa mootii duraa geesseen qabanii
achumatti ishee ni ajjeesan.

16 Yehooyaadaan akka inni, sabnii fi mootichis saba WAAQAYYOO ta'aniif kakuu ni
dhaabe. 17 Sabni hundinuu gara galma Ba'aal dhaqee diige. Isaanis iddoowwan
aarsaatii fi waaqota tolfamoo caccabsanii Mataan lubicha Ba'aal sana illee id-
doowwan aarsaa duratti ni ajjeesan.

18 Ergasii Yehooyaadaan luboota Lewwota turan kanneen Daawit mana qulqul-
lummaa WAAQAYYOO keessatti ramadee ture sanatti itti gaafatamummaa mana
qulqullummaa ni kenne; isaan akkuma Seera Musee keessatti barreeffame sanatti
aarsaa gubamu WAAQAYYOOF dhi'eessuu qabu; Daawit akka isaan gammachuu fi
faarfannaadhaan aarsaa kana dhi'eessan ajajee tureetii. 19 Akkasumas inni akka
namni karaa kamiin iyyuu xuraa'e tokko iyyuu ol hin seenneef balbala mana
qulqullummaa WAAQAYYOO dura eegdota ni dhaabe.

20 Innis ajajjuuwwan dhibbaa, namoota bebeekamoo, bulchitoota sabaa fi namoota
biyyattii hunda fudhatee dhaqee mana qulqullummaa WAAQAYYOOTII mooticha gad
baasee fide. Isaanis karaa, "Karra Ol aanu" jedhamuutiin masaraa mootummaa
seenanii mooticha teessoo mootummaa irra teessisan. 21 Saboonni biyyattii hundi
ni ililchan; sababii Ataaliyaan goraadeedhaan ajjeefamteef magaalaan sun nagaa
argatte.

# 24

*Yoo'aash Mana Qulqullummaa Haaromsuu Isaa*
*24:1-14 kwf – 2Mt 12:1-16*
*24:23-27 kwf – 2Mt 12:17-21*

1 Yoo'aash yeroo mootii ta'etti nama umuriin isaa waggaa torbaa ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa afurtama ni bulche. Maqaan haadha isaa Ziibiyaa
ture; isheenis nama Bersheebaa turte. 2 Yoo'aash bara Yehooyaadaa lubichaa hunda
keessa waan fuula WAAQAYYOO duratti qajeelaa ta'e hojjete. 3 Yehooyaadaan niitota
lama isaaf file; innis ilmaanii fi intallan ni dhalche.

4 Yeroo xinnoo booddees Yoo'aash mana qulqullummaa WAAQAYYOO haaromsuuf
murteesse. 5 Innis lubootaa fi Lewwota walitti waamee, "Gara magaalaawwan
Yihuudaa dhaqaatii maallaqa waggaa waggaadhaan mana qulqullummaa Waaqa
keessanii haaromsuuf oolu Israa'eloota hunda irraa walitti qabaa. Kanas ammuma
godhaa" isaaniin jedhe. Lewwonni garuu dafanii hin goone.

6 Kanaafuu mootichi Yehooyaadaa lubicha hangafticha waamee, "Ati maaliif akka
Lewwonni gibira Museen garbichi WAAQAYYOO fi yaa'iin Israa'el akka dunkaana
dhuga ba'umsaatiif baafamu murteessan sana Yihuudaa fi Yerusaalem irraa walitti
qaban hin godhin?" jedheen.

7 Yeroo sana ilmaan Ataaliyaa dubartittii hamtuu sanaa mana qulqullummaa
Waaqaa cabsanii seenanii mi'oota qulqulleeffaman illee Ba'aalin tajaajiluuf itti ni
fayyadaman.

8 Kanaafuu mootichi akka isaan sanduuqa maallaqni itti walitti qabamu hojjetanii
karaa alaatiin balbala mana qulqullummaa WAAQAYYOO bira kaa'an ni ajaje. 9 Akka
isaan qaraxa Museen garbichi Waaqaa sun yeroo gammoojjii keessa turanitti
Israa'eloota ajaje sana WAAQAYYOOF fidaniif Yihuudaa fi Yerusaalem keessatti labsiin
tokko ni ba'e. 10 Qondaaltonni hundii fi sabni hundi buusii isaanii gammachuudhaan

fidanii hamma inni guututti sanduuqicha keessa ni buusan. 11 Yommuu sanduuqichi
Lewwotaan gara qondaaltota mootiitti fidamee qondaaltonni sun akka maallaqni
baay'een isa keessa jiru arganitti barreessaan mootichaa fi ajajaan lubicha hangafaa
dhufanii maallaqa sana sanduuqa keessaa garagalchanii sanduuqicha iddoo isaatti
deebisu ture. Isaanis guyyuma guyyaan akkas godhanii maallaqa akka malee
baay'ee walitti ni qaban. 12 Mootichii fi Yehooyaadaanis maallaqa sana warra mana
qulqullummaa WAAQAYYOO hojjechiisuuf itti gaafatamummaa fudhatanitti ni kennan.
Isaanis mana qulqullummaa WAAQAYYOO haaromsuudhaaf namoota dhagaa cabsanii
fi ogeeyyii hojii mukaa, akkasumas mana qulqullummaa haaromsuudhaaf hojjettoota
sibiilaa fi naasii ittiin ni qaxaran.
13 Hojjettoonni qaxaraman waan jabaatanii hojjetaniif hojiin sun isaaniif ni
milkaa'e. Mana qulqullummaa Waaqaas akkuma duraan turetti deebisanii ni
haaromsan; ni jabeessanis. 14 Erga fixanii booddees maallaqa hafe fidanii mootichaa
fi Yehooyaadaatti ni kennan; maallaqa sanaanis mi'oota mana qulqullummaa
WAAQAYYOO jechuunis mi'oota tajaajilaa fi kan aarsaan gubamu ittiin dhi'eeffamu
akkasumas caabiiwwan, mi'oota warqee fi meetii ittiin ni hojjetan. Isaanis bara
Yehooyaadaa keessa utuu gargar hin kutin mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti
aarsaa gubamu dhi'eessaa turan.
15 Yehooyaadaanis bara dheeraa jiraatee dulloomee waggaa dhibba tokkoo fi soddo-
matti ni du'e. 16 Innis sababii Israa'el keessatti Waaqaa fi mana qulqullummaa isaatiif
waan gaarii hojjeteef Magaalaa Daawit keessatti mootota biratti ni awwaalame.

### *Hammina Yoo'aash*

17 Erga Yehooyaadaan du'ee booddee qondaaltonni Yihuudaa dhufanii amana-
mummaa mootichaaf qaban ni ibsan; innis isaan dhaggeeffate. 18 Isaanis mana
qulqullummaa WAAQAYYOO Waaqa abbootii isaanii dhiisanii siidaawwan Aasheeraa fi
waaqota tolfamoo ni waaqeffatan. Sababii balleessaa isaaniifis dheekkamsi Waaqaa
Yihuudaa fi Yerusaalemitti ni dhufe. 19 Akka isaan gara isaatti saba deebisaniif
WAAQAYYO raajota isaanitti erge; raajonnis isaanitti rageessan; isaan garuu dhaga'uu
hin barbaanne.
20 Ergasiis Hafuurri Waaqaa Zakkaariyaas ilma Yehooyaadaa lubichaa irra ni bu'e.
Innis ka'ee fuula uummataa dura dhaabatee, "Waaqni akkana jedha: 'Isin maaliif
ajaja WAAQAYYOO eeguu diddani? Isin hin milkooftan. Sababii isin WAAQAYYOON
dhiiftaniif innis isin dhiiseera' " jedheen.
21 Isaan garuu isatti mari'atanii ajaja mootichaatiin oobdii mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessatti dhagaadhaan tumanii isa ni ajjeesan. 22 Yoo'aash mootichi
arjummaa Yehooyaadaan abbaan Zakkaariyaas isaaf godhe sana hin yaadanne;
qooda kanaa inni ilma isaa ni ajjeese; innis yeroo du'utti, "WAAQAYYO waan kana
haa argu; haaloos haa ba'u" jedhe.
23 Dhuma waggaa sanaattis loltoonni Sooriyaa Yoo'aashitti ni duulan; Yihuudaa
fi Yerusaalem qabatanii hooggantoota sabaa hunda ni fixan. Isaanis waan booji'an
hunda gara Damaasqootti mootii isaaniitti ni ergan. 24 Loltoonni Sooriyaa namoota
xinnoo qabatanii dhufan illee WAAQAYYO loltoota akka malee baay'ee harka isaaniitti
dabarsee ni kenne. Sababii Yihuudoonni WAAQAYYO Waaqa abbootii isaanii dhiisaniif
Yoo'aashitti murtiin murame. 25 Warri Sooriyaa yommuu ba'anitti Yoo'aashin akka
malee madeessanii ni deeman. Qondaaltonni isaas sababii inni ilma Yehooyaadaa
lubichaa ajjeeseef isatti mari'atanii siree isaa irratti isa ajjeesan. Kanaafuu inni
du'ee Magaalaa Daawit keessatti ni awwaalame; garuu iddoo awwaala mootootaatti
hin awwaalamne.
26 Warri isatti mari'atanis Zaabaad ilma Shime'aati dubartii Amoon sanaa fi
Yehoozaabaad ilma Shimriiti dubartii Mo'aab sanaa turan. 27 Seenaan ilmaan isaa,

raajiiwwan waa'ee isaa dubbataman hedduunii fi seenaan haaromfamuu mana qulqullummaa Waaqaa kitaaba seenaa moototaa keessatti barreeffameera. Amasiyaa ilmi isaa iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 25

*Amasiyaa Mooticha Yihuudaa*
*25:1-4 kwf – 2Mt 14:1-6*
*25:11-12 kwf – 2Mt 14:7*
*25:17-28 kwf – 2Mt 14:8-20*

1 Amasiyaa yeroo mootii ta'etti nama waggaa digdamii shan ture; innis Yerusaalem
keessa taa'ee waggaa digdamii sagal ni bulche. Maqaan haadha isaa, Yo'aadaan ture;
isheenis nama Yerusaalem turte. 2 Innis waan fuula WAAQAYYOO duratti qajeelaa
ta'e ni hojjete; garuu garaa guutuudhaan miti. 3 Inni erga jabeessee to'annaa isaa
jalatti mootummaa qabatee booddee qondaaltota abbaa isaa mooticha ajjeesan sana
fixe. 4 Ta'us inni akka waan Seera keessatti, Kitaaba Musee keessatti kan WAAQAYYO,
"Abbootiin sababii ijoollee isaaniitiif ajjeefamuu hin qaban yookaan ijoolleen sababii abbootii isaaniitiif ajjeefamuu hin qaban; tokkoon tokkoon namaa sababii cubbuu ofii isaatiif du'a" jedhee ajaje sanaatti tarkaanfii fudhate malee ilmaan warra abbaa isaa ajjeesan sanaa hin fixne.

5 Amasiyaa saba Yihuudaa walitti waamee akkuma maatii isaaniitti ajajjuuwwan kumaatii fi ajajjuuwwan dhibbaa guutummaa Yihuudaa fi Beniyaam keessatti ramade. Sana booddees warra umuriin isaanii waggaa digdamaa fi sanaa ol ta'e walitti qabee akka namoonni duulaaf qophaa'an kanneen eeboo fi gaachana qabachuu danda'an kuma dhibba sadii ta'an argate.
6 Akkasumas Israa'el keessaa
loltoota jajjaboo kuma dhibba tokko meetii taalaantii* dhibba tokkoon ni qaxarate.

7 Garuu namni Waaqaa tokko isa bira dhufee akkana jedheen; "Yaa mootii, sababii WAAQAYYO Israa'el wajjinis ta'u namoota Efreem kam iyyuu wajjin hin jirreef loltoonni Israa'el kunneen si wajjin hin duulin.
8 Yoo ati sodaa malee lola dhaqxe
illee Waaqni fuula diinota keetii duratti si kuffisa; Waaqni gargaaruufis kuffisuufis humna qabaatii."

9 Amasiyaa immoo, "Garuu taalaantiin dhibbi ani loltoota Israa'eliif baase sun maal haa ta'u ree?" jedhee nama Waaqaa sana ni gaafate.

Namni Waaqaa sun immoo deebisee, "WAAQAYYO waan sana caalu iyyuu siif kennuu ni danda'a" jedheen.

10 Kanaafuu Amasiyaa loltoota biyya Efreemii isa bira dhufan sana akka isaan biyya isaaniitti deebi'aniif gad dhiise. Isaanis Yihuudaatti aaranii akka malee dheekkamaa gara biyya isaaniitti deebi'an.

11 Amasiyaa humna isaa jabeeffatee loltoota isaa gara Sulula Soogiddaatti erge;
achittis namoota See'iir kuma kudhan ni fixe. 12 Loltoonni Yihuudaas namoota
kuma kudhan biraa booji'an; fiixee kattaa tokkoottis ol baasanii achi irraa gad isaan dadarbatan; hundi isaaniis caccabanii hurraa'an.

13 Loltoonni Amasiyaa akka isaan isa wajjin hin duulleef gara biyya isaaniitti deebisee erge sun garuu magaalaawwan Yihuudaa kanneen Samaariyaadhaa hamma Beet Horoonitti jiran ni dha'an. Isaanis namoota kuma sadii ajjeesanii boojuu baay'ee fudhatanii deeman.

14 Amasiyaa yommuu namoota Edoom fixee deebi'etti waaqota saba See'iir fudhatee gale. Innis akkuma waaqota isaatti dhaabbatee sagadeefii aarsaa gubamu
isaaniif ni dhi'eesse. 15 WAAQAYYOs akka malee Amasiyaatti aaree raajii tokko itti

* **25:6** 25:6 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34.

erge; raajiin sunis, “Ati maaliif waaqota saba kanaa kanneen saba ofii isaa iyyuu harka keetii baasuu hin dandeenye gorsa gaafatta?” jedheen.

16 Mootichis utuma inni dubbachaa jiruu, “Nu akka ati mootii gorsituuf si muudneerraa? Cal’isi! Maaliif rukutamta?” jedheen.

Raajiin sunis ni cal’ise; garuu, “Sababii ati gorsa koo dhaga’uu diddee waan kana gooteef, ani akka Waaqni si balleessuuf murteesse nan beeka” jedheen.

17 Amasiyaa mootichi Yihuudaa erga gorsitoota isaatiin mari’atee booddee, “Kottu mee waraana keessatti wal ilaallaa” jedhee qoosaa kana gara Yoo’aash ilma Yehoo’aahaaz, ilma Yehuu, mooticha Israa’elitti ni erge.

18 Yoo’aash mootichi Israa’el garuu akkana jedhee Amasiyaa mooticha Yihuu-
daatiif deebii kenne; “Sokorruun Libaanoon keessaa tokko ergaa ergee birbirsaa
Libaanooniin, ‘Intala kee ilma kootti heerumsiisi’ jedhe. Ergasii bineensi bosona
Libaanoon keessaa tokko dhufee sokorruu sana irra miilaan deeme. 19 Ati, ‘Kunoo
ati dhugumaan Edoomin mo’atteerta’ ofiin jettee amma of tuulaa jirta. Amma garuu
mana kee taa’i! Ati maaliif rakkina barbaaddee ofii keetii fi Yihuudaattis kufaatii
fidda?”

20 Amasiyaa garuu dhaga’uu dide; sababii isaan waaqota Edoom duukaa bu’aniif
Waaqni harka Yoo’aashitti dabarsee isaan kennuuf murteesseeraatii. 21 Kanaafuu
Yoo’aash mootichi Israa’el ka’ee lola bane. Innii fi Amasiyaa mootichi Yihuudaa
biyya Yihuudaa keessatti Beet Shemeshitti walitti ba’an. 22 Warri Yihuudaas warra
Israa’eliin mo’atamanii tokkoon tokkoon namaas gara mana ofii isaatti baqate.
23 Yoo’aash mootichi Israa’el, Amasiyaa mooticha Yihuudaa ilma Iyoo’as ilma
Ahaaziyaa sana Beet Shemeshitti qabe. Iyoo’asis gara Yerusaalemitti isa fidee Karra
Efreemiitii jalqabee hamma Karra Goleetti dallaa Yerusaalem kan dhagaa sana diige;
kutaan diigame kun dhundhuma dhibba afur lafa irra dheerata ture. 24 Innis warqee
fi meetii hunda, akkasumas mi’a mana qulqullummaa Waaqaa keessatti argamu kan
Oobeed Edoom eegaa ture hunda, qabeenya masaraa mootummaa fi namoota booji’e
illee fudhatee gara Samaariyaatti deebi’e.

25 Amasiyaa ilmi Yoo’aash mootichi Yihuudaa erga Yoo’aash ilmi Yehoo’aahaaz
mootichi Israa’el du’ee booddee waggaa kudha shan jiraate. 26 Wantoonni bara
mootummaa Amasiyaa keessa jalqabaa hamma dhumaatti hojjetaman kanneen biraa
kitaaba mootota Yihuudaa fi Israa’el keessatti barreeffamaniiru mitii? 27 Yeroo
Amasiyaa Waaqayyoon duukaa bu’uu irraa garagalee jalqabee isaan Yerusaalem
keessatti isatti malatan; innis gara Laakkiishitti baqate; isaan immoo faanuma isaa
Laakkiishitti namoota erganii achitti isa ajjeesan. 28 Isaanis fardaan isa fidanii
Magaalaa Yihuudaatti abbootii isaa biratti isa ni awwaalan.

# 26

*Uziyaan Mooticha Yihuudaa*
*26:1-4 kwf – 2Mt 14:21-22; 15:1-3*
*26:21-23 kwf – 2Mt 15:5-7*

1 Ergasii namoonni Yihuudaa hundi Uziyaan nama waggaa kudha ja’a sana
fuudhanii iddoo abbaa isaa iddoo Amasiyaa buusanii mootii ni godhan. 2 Erga
Amasiyaa abbootii isaa wajjin boqotee booddee namni Eelootin deebisee ijaaree gara
Yihuudaatti deebisee Uziyaan ture.

3 Uziyaan yeroo mootii ta’etti nama waggaa kudha ja’a ture; innis Yerusaalem
keessa taa’ee waggaa shantamii lama ni bulche; maqaan haadha isaa Yekooliyaa ture;
isheenis nama Yerusaalem turte. 4 Innis akkuma abbaa isaa Amasiyaa sana fuula
Waaqayyoo duratti waan qajeelaa ni hojjete. 5 Inni bara Zakkaariyaas isa akka inni

Waaqa sodaatu isa barsiise sanaa keessa Waaqa barbaade. Yeroo inni WAAQAYYOON barbaade hundas Waaqni isa ni milkoomse.

[6] Innis Filisxeemotatti duulee dallaawwan Gaati, kan Yabinee fi kan Ashdood ni diige. Ergasii Ashdood birattii fi bulchiinsota Filisxeemotaa kaan keessatti
magaalaawwan deebisee ni ijaare. [7] Yeroo inni Filisxiyaatti, Araboota Guur Ba'aalittii
fi Me'uunootatti ka'etti Waaqni isa gargaare. [8] Warri Amoonis Uziyaaniif gibira ni
fidan; sababii inni baay'ee jabaateef gurri isaa hamma daangaa Gibxitti beekame.

[9] Uziyaanis Yerusaalem keessatti Karra Golee irratti, Karra sululaa irrattii fi
golee dallaa irratti gamoowwan eegumsaa ni ijaare. [10] Akkasumas inni sababii
gaarran jalaa fi dirree irraa horii akka malee baay'ee qabuuf gammoojjii keessatti gamoowwan eegumsaa ijaaree boolla bishaanii hedduus ni qote; inni waan hojii qotiisaa jaallatuuf qottoota gaarranii fi lafa gabbataa qotanii wayiniis dhaaban qaba ture.

[11] Kana malees Uziyaan hoomaa waraanaa kan akka gaarii leenjifamee waraanaaf qophaa'e qaba ture; hoomaan waraanaa kunis dura bu'ummaa Hanaaniyaa isa qondaaltota mootichaa keessaa tokko ta'e sanaan akkuma baay'ina isaaniitti garee gareedhaan Ye'ii'eel barreessaa sanaa fi Ma'aseyaa ajajjichaan gurmeeffame.
[12] Baay'inni hooggantota maatii kanneen loltoota irratti muudamanii walumatti 2,600
ture. [13] Ajaja isaanii jalattis hoomaa waraanaa kan namoota lolaaf leenjifaman 307,500 of keessaa qabu tokkotu ture; hoomaan kunis humna guddaa kan yeroo
mootichi diinota isaatti duulutti isa gargaaruu dha. [14] Uziyaan loltoota hundaaf
gaachana, eeboo, gonfoo sibiilaa, qomee sibiilaa, xiyyaa fi furrisa dhagaa kenne.
[15] Innis Yerusaalem keessatti meeshaawwan namoota ogeeyyiidhaan hojjetaman kanneen gamoowwan eegumsaatii fi goleewwan ittisaa gubbaatti xiyya darbachuu fi dhagaa furuursuuf fayyadan ijaare. Innis hamma jabaatutti waan gargaarsa argateef maqaan isaa fagootti illee bal'inaan ni beekame.

[16] Garuu Uziyaan erga jabaatee booddee, of tuulummaan isaa kufaatii isatti fide. Innis iddoo aarsaa ixaanaatti ixaana aarsuuf mana qulqullummaa WAAQAYYOO seenuudhaan amanamummaa WAAQAYYO Waaqa isaatiif qabu irraa duubatti ni
deebi'e. [17] Azaariyaa lubichis luboota WAAQAYYOO warra waa hin sodaanne kan
biraa saddeettama wajjin isa duukaa ni seene. [18] Isaanis Uziyaan mootichaan
mormanii, "Yaa Uziyaan WAAQAYYOOF ixaana aarsuun luboota sanyii Aroon warra ixaana aarsuuf filataman sanaaf malee siif hin malu. Ati sababii amanamaa hin ta'iniif WAAQAYYO Waaqa biraa ulfina hin argattuutii iddoo qulqulluu kanaa ba'i" jedhaniin.

[19] Uziyaanis utuu ixaana aarsuuf girgiraa harkatti qabatee qophaa'ee jiruu ni aare. Innis utuma mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti iddoo aarsaa ixaana duratti
lubootatti aaraa jiruu ijuma isaanii duratti lamxiin adda isaatti ni ba'e. [20] Azaariyaa
lubichi hangafnii fi luboonni biraa hundinuu yeroo isa ilaalanitti akka lamxiin adda isaa irra jiru ni argan; kanaafuu isaan dafanii gad isa baasan. Sababii dheekkamsi WAAQAYYOO isa dha'eef dhugumaan inni iyyuu ba'uuf ariifatee ture.

[21] Uziyaan mootichi hamma gaafa du'uutti lamxaa'ee ture. Innis waan lamxaa'ee tureef mana qulqullummaa WAAQAYYOO irraa citee mana kophaa keessa ni jiraate. Ilmi isaa Yootaam ilmi isaa itti gaafatama masaraa mootummaa fudhatee saba biyyattii bulche.

[22] Wantoonni bara mootummaa Uziyaan keessa jalqabaa hamma dhumaatti
hojjetaman biraan Isaayyaas raajicha ilma Amoosiin galmeeffamaniiru. [23] Uziyaanis
abbootii isaa wajjin boqotee sababii namoonni, "Inni lamxii qaba" jedhaniif inni lafa awwaala moototaa keessatti isaanuma biratti ni awwaalame. Ilmi isaa Yootaam iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 27

*Yootaam Mooticha Yihuudaa*
*27:1-4,7-9 kwf – 2Mt 15:33-38*

1 Yootaam yeroo mootii ta’etti nama waggaa digdamii shan ture; innis Yerusaalem
keessa taa’ee waggaa kudha ja’a ni bulche. Maqaan haadha isaa Yaruusaa ture;
isheenis intala Zaadoq turte. 2 Innis akkuma abbaan isaa Uziyaan godhe sana fuula
WAAQAYYOO duratti waan qajeelaa ni hojjete; inni garuu akka abbaa isaa mana
qulqullummaa WAAQAYYOO hin seenne. Ta’us namoonni cubbuu hojjechuu ittuma
fufan. 3 Yootaam Karra mana qulqullummaa WAAQAYYOO kan Ol aanu deebisee
ijaare; dallaa dhagaa kan gaara Oofeel irrattis hojiiwwan ijaarsaa baay’ee ni hojjete.
4 Gaarran Yihuudaa irratti magaalaawwan, bosona keessatti immoo da’annoowwanii
fi gamoowwan ni ijaare.
5 Yootaamis mootii Amoonotaa waraanee isaan ni mo’ate. Waggaa sana keessa
Amoononni meetii taalaantii dhibba tokko, qamadii qoroosii kuma kudhanii fi garbuu
safartuu qoroosii kuma kudhan ni kennaniif. Amoononni waggaa lammaffaa fi
waggaa sadaffaattis hammasuma ni kaffalaniif.
6 Yootaam sababii fuula WAAQAYYO Waaqa isaa dura amanamummaan deddeebi’eef
jabaachaa deeme.
7 Wantoonni bara Yootaam keessa hojjetaman biraa, lola inni lolee fi wantoonni
inni hojjete biraa kitaaba mootota Israa’elii fi Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru.
8 Inni yeroo mootii ta’etti nama waggaa digdamii shan ture. Innis Yerusaalem keessa
taa’ee waggaa kudha ja’a ni bulche. 9 Yootaam abbootii isaa wajjin boqotee Magaalaa
Daawit keessatti ni awwaalame. Ilmi isaa Aahaaz iddoo isaa bu’ee mootii ta’e.

# 28

*Aahaaz Mooticha Yihuudaa*
*28:1-27 kwf – 2Mt 16:1-20*

1 Aahaaz yeroo mootii ta’etti nama waggaa digdama ture; innis Yerusaalem keessa
taa’ee waggaa kudha ja’a ni bulche. Inni akka abbaa isaa akka Daawit fuula
WAAQAYYOO duratti waan qajeelaa hin hojjenne. 2 Inni karaa mootota Israa’el duukaa
bu’ee Ba’aalin waaqeffachuuf jedhees waaqota tolfamoo baqsee ni tolche. 3 Inni
gochawwan jibbisiisoo saboota WAAQAYYO fuula Israa’elootaa duraa ari’ee baase
sanaa hojjechuudhaan Sulula Ben Hinoom keessatti ixaana ni aarse; ilmaan isaa illee
aarsaa godhee ibiddaan gube. 4 Innis iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraatti,
fiixee gaarranii irrattii fi muka lalisaa hunda jalatti qalma dhi’eessee, ixaanas aarse.
5 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni isaa dabarsee harka mootii Sooriyaatti isa kenne.
Warri Sooriyaas isa mo’atanii namoota isaa hedduus booji’anii Damaasqootti geessan.
Achii immoo inni harka mootii Israa’elitti dabarfamee ni kenname; mootichis
miidhaa guddaa isa irraan ni ga’e. 6 Sababii sabni Yihuudaa WAAQAYYO Waaqa
abbootii isaa dhiiseef Pheqaan ilmi Remaaliyaa guyyaa tokkotti loltoota Yihuudaa
kuma dhibba tokkoo fi digdama ni fixe. 7 Zikriin loltuun jabaan gosa Efreem
sun immoo Ma’aseyaa ilma mootichaa, Azriiqaam ajajaa masaraa mootummaa fi
Elqaanaa itti aanaa mootichaa ni ajjeese. 8 Israa’eloonni firootuma isaanii irraa
niitota, ilmaanii fi intallan kuma dhibba lama ni booji’an. Akkasumas boojuu akka
malee baay’ee fudhatanii Samaariyaatti ni deebi’an.
9 Garuu raajiin WAAQAYYOO kan Oodeed jedhamu tokko achi ture; innis yeroo
loltoonni Samaariyaadhaa deebi’anitti isaan simachuuf ni ba’e. Innis akkana isaaniin
jedhe; “WAAQAYYO Waaqni abbootii keessanii waan Yihuudaatti aareef dabarsee
harka keessanitti isaan kenne. Isin garuu dheekkamsa hamma samiitti ol fagaatuun
isaan ni fixxan. 10 Ammas dhiirotaa fi dubartoota Yihuudaa fi Yerusaalem garboota

keessan gochuu ni yaaddan. Isin mataan keessan iyyuu fuula WAAQAYYO Waaqa
keessanii duratti cubbuu hin hojjennee ree? 11 Mee na dhaga'aa! Sababii dheekkamsi
WAAQAYYOO isinitti boba'eef namoota biyya keessanii kanneen boojitanii fiddan sana
deebisaa."
12 Ergasiis hangafoota namoota Efreem keessaa tokko tokko jechuunis Azaariyaa
ilmi Yehohaanaan, Berekiyaan ilmi Meshileemoot, Yehiizqiiyaa ilmi Shaluumii fi
Amaasaayi ilmi Hadilaay warra duulaa galaa jiran mormuudhaan 13 akkana jedhan;
"Isin booji'amtoota kanneen as fiduu hin qabdan; yoo kanaa achii nu fuula
WAAQAYYOO duratti cubbamoota ni taana. Isin amma illee cubbuu fi balleessaa
keenya ittuma dabaluu feetuu? Yakki keenya duraanuu baay'ateera; dheekkamsi
isaa Israa'elitti boba'eeraatii."
14 Kanaafuu loltoonni fuula qondaaltotaatii fi yaa'ii guutuu duratti booji'amtootaa
fi boojuu gad dhiisan. 15 Namoonni maqaan isaanii eerames loltoota harka
booji'amtoota ni fuudhan; waan booji'ame irraas warra qullaa jiran hundatti wayyaa
ni uffisan. Isaanis uffataa fi kophee, waan nyaatamuu fi waan dhugamu illee ni
kennaniif; dibatas isaan diban. Warra dadhaban hunda immoo harree irra teessisanii
biyya firoonni isaanii jiran Magaalaa Meexxii sanatti gara Yerikootti isaan deebisanii
ofii immoo Samaariyaatti ni dacha'an.
16 Yeroo sanatti Aahaaz Mootichi gargaaraa argachuuf gara mootii Asooritti nama
ergate. 17 Edoomonni ammas dhufanii Yihuudaatti balaa buusanii booji'amtoota
fudhatanii deemanii turaniitii; 18 Filisxeemonni immoo magaalaawwan gaarran jalaa
fi kanneen gama kibba Yihuudaatti argaman weeraranii Beet Shemeshi, Ayaaloon,
Gedeerooti, Sookoo, Tiimnaahi, Gimzoo fi gandoota naannoo isaanitti argaman
qabatanii keessa ni qubatan. 19 Sababii Aahaaz mootichi Israa'el saba Yihuudaa
cubbuuf kakaasee ofii immoo WAAQAYYOOF amanamuu dideef WAAQAYYO Yihuudaa
ni salphise. 20 Tiiglaat-Philneeser mootichi Asoor gara isaa dhufee ture; ta'us inni
qooda isa gargaaru rakkina isatti fide. 21 Aahaaz mana qulqullummaa WAAQAYYOO
keessaa, masaraa mootii fi mana ilmaan mootiitii waan tokko tokko fuudhee mootii
Asooriif kennaa godhee ni dhi'eesse; ta'us kunis isa hin gargaarre.
22 Aahaaz Mootichi yeroo rakkina isaa keessa illee ittuma caalchisee WAAQAYYOOF
amanamuu ni dide. 23 Innis waaqota Damaasqoo kanneen isa mo'ataniif aarsaa ni
dhi'eesse; "Waaqonni mootota Sooriyaa sababii isaan gargaaraniif akka isaan ana
illee gargaaraniif ani aarsaa nan dhi'eessaaf" jedhee yaadee tureetii. Isaan garuu
kufaatii isaa fi kufaatii Israa'el hundaa ni fidan.
24 Aahaaz mi'oota mana qulqullummaa Waaqaa walitti qabee fudhatee deeme. Bal-
balawwan mana qulqullummaa WAAQAYYOOS cufee golee daandiiwwan Yerusaalem
hunda irratti iddoowwan aarsaa ni dhaabe. 25 Magaalaa Yihuudaa hunda keessattis
waaqota biraaf ixaana aarsuuf iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa ijaaree
WAAQAYYO Waaqa abbootii isaa dheekkamsaaf ni kakaase.
26 Wantoonni bara mootummaa isaa keessa jalqabaa hamma dhumaatti hojjetaman
kanneen biraa fi akki inni itti jiraate hundi kitaaba mootota Yihuudaa fi Israa'el
keessatti barreeffamaniiru. 27 Aahaazis abbootii isaa wajjin boqotee magaalaa
Yerusaalem keessatti ni awwaalame; garuu iddoo awwaala mootota Israa'el keessa
hin kaa'amne. Ilmi isaa Hisqiyaas iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 29

### *Hisqiyaas Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu Isaa*
*29:1-2 kwf – 2Mt 18:2-3*

1 Hisqiyaas yeroo mootii ta'etti nama waggaa digdamii shan ture; innis Yerusaalem
keessa taa'ee waggaa digdamii sagal bulche. Maqaan haadha isaa Abiyaa ture;

isheenis intala Zakkaariyaas. 2 Innis akkuma Daawit abbaan isaa godhe sana fuula
WAAQAYYOO duratti waan qajeelaa hojjete.
3 Inni bara mootummaa isaa keessa ji'a jalqaba waggaa tokkoffaatti balbalawwan
mana qulqullummaa WAAQAYYOO ni bane; ni haaromses. 4 Lubootaa fi Lewwota
waamsisee oobdii karaa ba'a biiftuutiin jiru irratti walitti isaan qabee 5 akkana
jedheen; "Yaa Lewwota, mee na dhaga'aa! Amma of qulqulleessaatii mana qulqul-
lummaa WAAQAYYO Waaqa abbootii keessanii illee qulqulleessaa. Waan xuraa'aa
hunda iddoo qulqulluu keessaa baasaa. 6 Abbootiin keenya sababii amanamoo hin
turiniif fuula WAAQAYYO Waaqa keenyaa duratti waan hamaa hojjetanii isa irraa
garagalan. Isaanis iddoo jireenya WAAQAYYOO irraa fuula isaanii deebifatanii dugda
isaanii isatti garagalchan. 7 Akkasumas balbala gardaafoo cufanii ibsaawwan ni
dhaamsan. Isaan Waaqa Israa'eliif iddoo qulqulluutti ixaana hin aarsine yookaan
aarsaa gubamu hin dhi'eessine. 8 Kanaafuu dheekkamsi WAAQAYYOO Yihuudaa
fi Yerusaalem irra bu'e; inni akkuma isin ija keessaniin arguu dandeessan kana
nama qaanii, nama qoosaa fi nama kolfaa isaan godhe. 9 Sababiin abbootiin
keenya goraadeedhaan dhumaniif, sababiin ilmaan keenya, intallanii fi niitonni
keenya illee booji'amaniif kanuma. 10 Ani amma akka dheekkamsi isaa inni
sodaachisaan sun nurraa deebi'uuf WAAQAYYO Waaqa Israa'el wajjin kakuu galuu
yaadeera. 11 Yaa ilmaan ko, egaa hin dagatinaa; WAAQAYYO akka isin fuula isaa dura
dhaabattaniif, akka isa tajaajiltaniif, akka fuula isaa duratti hojjettoota isaa taatanii
ixaana aarsitaniif isin filateeraatii."

12 Ergasii Lewwonni kunneen hojiitti bobba'an; isaanis:

Ilmaan Qohaatotaa keessaa,
Mahat ilma Amaasaayii fi Yoo'eel ilma Azaariyaa;
ilmaan Meraarotaa keessaa,
Qiish ilma Abdii fi Azaariyaa ilma Yehaleli'eel;
ilmaan Geershoonotaa keessaa,
Yoo'ak ilma Zimaa fi Eeden ilma Yoo'aa;
13 ilmaan Eliisaafaanotaa keessaa,
Shimrii fi Ye'ii'eel;
ilmaan Asaaf keessaa,
Zakkaariyaasii fi Mataaniyaa;
14 ilmaan Heemaan keessaa,
Yehii'eelii fi Shime'ii;
ilmaan Yeduutuun keessaa,
Shemaa'iyaa fi Uzii'eel.

15 Isaan erga obboloota isaanii walitti qabanii of qulqulleessanii booddee akkuma
mootichi akka dubbii WAAQAYYOOTTI isaan ajajetti mana qulqullummaa WAAQAYYOO
qulqulleessuuf ol ni seenan. 16 Luboonnis mana WAAQAYYOO qulqulleessuuf ol ni
seenan. Isaanis waan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti argan kan qulqulluu
hin ta'in hunda gara oobdii mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI gad baasan. Lew-
wonnis achii guuranii Sulula Qeedroonitti geessan. 17 Isaanis hojii qulqulleessuu kana
guyyaa jalqaba ji'a duraatii jalqabanii bultii saddeettaffaatti gardaafoo WAAQAYYOO
bira ni ga'an. Guyyaa saddeet itti dabalanii mana qulqullummaa WAAQAYYOO
qulqulleessanii ji'a tokkoffaa guyyaa kudha ja'affaatti fixan.
18 Isaanis gara Hisqiyaas Mootichaa dhaqanii akkana jedhaniin; "Nu guutummaa
mana qulqullummaa WAAQAYYOO, iddoo aarsaan gubamu itti dhi'eeffamu mi'a
isaa hunda wajjin, minjaala buddeenni qulqulleeffame irra kaa'amu mi'a isaa

hunda wajjin qulqulleessineerra. 19 Mi'oota Aahaaz mootichi yeroo mootii turetti amanamummaa dhabee iddoo isaaniitii fuudhe hunda qulqulleessineerra; mi'oonni sunis fuula iddoo aarsaa WAAQAYYOO dura jiru."

20 Hisqiyaas Mootichi guyyaa itti aanu ganama bariidhaan qondaaltota magaalaa
walitti qabee gara mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ol ba'e. 21 Isaanis mootum-
maaf, mana qulqullummaa fi Yihuudaaf korommii loonii torba, korbeeyyii hoolaa torba, xobbaallaawwan torbaa fi korbeeyyii re'ee torba aarsaa cubbuu godhanii ni dhi'eessan. Mootichis akka isaan horii kanneen iddoo aarsaa WAAQAYYOO irratti
aarsaa dhi'eessaniif luboota sanyii Aroon sana ni ajaje. 22 Luboonnis korommii
loonii sana qalanii dhiiga isaanii iddoo aarsaa irratti faffacaasan; itti aansaniis korbeeyyii hoolaa qalanii dhiiga isaanii iddoo aarsaa irratti faffacaasan; ergasii immoo xobbaallaawwan qalanii dhiiga isaanii iddoo aarsaa irratti faffacaasan.
23 Re'oonni aarsaa cubbuutiif fidamanis fuula mootichaa fi fuula waldaa duratti
dhi'eeffaman; jarris isaan irra harka isaanii kaa'an. 24 Sababii mootichi aarsaa
gubamuu fi aarsaa cubbuu Israa'el hundaaf ajajeef luboonni re'oota qalanii Israa'el hundaaf araara buusuuf dhiiga isaanii iddoo aarsaa irratti dhi'eessan.

25 Innis akkuma Daawitii fi Gaad ilaaltuu mootichaa fi Naataan raajichaan ajajametti Lewwota kilillee, baganaa fi kiraara qabachiisee mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ramade; kunis ajaja WAAQAYYO karaa raajota isaatiin kennee dha.
26 Kanaafuu Lewwonni mi'a faarfannaa kan Daawit, luboonni immoo malakata isaanii qabatanii qophaa'anii dhaabatan.

27 Hisqiyaas akka aarsaan gubamu iddoo aarsaa irratti dhi'eeffamuuf ajaje. Akkuma aarsaan dhi'eeffamuu jalqabeen faarfannaan malakataa fi mi'a faarfannaa
kan Daawit mooticha Israa'eliin WAAQAYYOOF faarfatamus ni jalqabame. 28 Waldaan
guutuun gad jedhee sagade; faarfattoonni ni faarfatan; warri malakata afuufanis ni afuufan. Wanni kun hundi hamma aarsaan gubamu dhi'eeffamee xumuramutti itti fufe.

29 Yommuu aarsaa dhi'eessuun xumurametti mootichii fi warri isa wajjin turan
hundinuu jilbeenfatanii sagadan. 30 Hisqiyaas Mootichii fi qondaaltonni isaa akka
Lewwonni dubbii Daawitii fi dubbii Asaaf ilaaltuu sanaatiin WAAQAYYOON galateef-
fatan ajajan. Kanaafuu isaan gammachuudhaan faarfannaa galataa faarfatanii gad jedhanii sagadan.

31 Ergasiis Hisqiyaas, "Isin amma WAAQAYYOOF of qulqulleessitaniirtu. Kottaatii qalmaa fi aarsaa galataa mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI galchaa" jedhe. Kanaafuu waldaan sun qalmaa fi aarsaa galataa dhi'eesse; warri garaan isaanii jaallate hundis aarsaa gubamu dhi'eessan.

32 Aarsaan gubamu kan waldaan sun dhi'eesses korommii loonii torbaatama, kor-
beeyyii hoolaa dhibba tokkoo fi xobbaallaawwan hoolaa dhibba lama ture; kunneen
hundi aarsaa gubamu ta'anii WAAQAYYOOF dhi'eeffaman. 33 Horiin qulqulleeffamee
qalmaaf dhi'eeffame walumaa galatti korommii loonii dhibba ja'aa fi hoolaa fi re'ee
kuma sadii ture. 34 Haa ta'u malee horii aarsaaf dhi'eeffaman irraa gogaa baasuuf
lakkoobsi lubootaa ga'aa hin turre; kanaafuu firoonni isaanii Lewwonni hamma hojiin sun dhumuttii fi hamma luboonni biraa qulqulleeffamanitti isaan gargaaran;
Lewwonni ofii isaanii qulqulleessuutti luboota caalaa gara toloota turaniitii. 35 Cooma
aarsaa nagaa fi dhibaayyuu aarsaa gubamu wajjin dhi'eeffamu dabalatee aarsaan gubamu akka malee hedduutu ture.

Akkasiin tajaajilli mana qulqullummaa WAAQAYYOO akka duriitti deebi'e.
36 Hisqiyaasii fi namoonni hundi sababii waan Waaqni saba isaaf godheef ni
gammadan; wanni kun dafee ta'eetii.

# 30

*Hisqiyaas Faasiikaa Ayyaaneffate*

1 Hisqiyaas akka isaan WAAQAYYO Waaqa Israa'eliif Faasiikaa ayyaaneffachuuf
jedhanii gara Yerusaalem, gara mana qulqullummaa WAAQAYYOO dhufaniif Israa'elii
fi Yihuudaa hundatti ergaa erge; Efreemii fi Minaaseetti immoo xalayaa barreesse.
2 Mootichii fi qondaaltonni isaa akkasumas waldaan Yerusaalem keessa jiru hundi
ji'a lammaffaatti Faasiikaa ayyaaneffachuuf murteessan. 3 Isaan sababii luboonni
of qulqulleessan lakkoobsaan ga'oo hin ta'inii fi sababii namoonni Yerusaalemitti
walitti hin qabaminiif yeroo barbaachisaa ta'etti Faasiikaa ayyaaneffachuu hin
dandeenye. 4 Karoorri sunis mootichaa fi waldaa sana guutuu ni gammachiise.
5 Isaanis akka namoonni WAAQAYYO Waaqa Israa'eliif Faasiikaa ayyaaneffachuuf
jedhanii gara Yerusaalem dhufaniif Bersheebaa hamma Daanitti Israa'el hunda
keessa labsii labsuuf murteessan. Ayyaanni Faasiikaa akka barreeffametti iddoo
namoonni hedduun jiranitti ayyaaneffamee hin beekuutii.

6 Ergamoonnis ajaja mootichaatiin xalayaa mootichaa fi qondaaltota isaa biraa
ergame fuudhanii guutummaa Israa'elii fi Yihuudaa keessa qajeelan; xalayaan sunis
akkana jedha:

"Yaa saba Israa'el, akka inni gara keessan gara warra haftanii harka mootota
Asoor jalaa baatan sanaatti deebi'uuf gara WAAQAYYO Waaqa Abrahaam, Waaqa
Yisihaaqii fi Waaqa Israa'elitti deebi'aa. 7 Akka abbootii keessanii fi akka obbolootа
keessan kanneen inni sababii isaan WAAQAYYO Waaqa abbootii isaaniif amanamuu
didaniif akkuma isin argitan kana waan fafaa isaan godhe sanaa hin ta'inaa.
8 Isin akka abbootii keessanii mata jabeeyyii hin ta'inaa; WAAQAYYOOTTI harka
kennadhaa. Gara iddoo qulqullummaa isaa kan inni bara baraan qulqulleesse
sanaa kottaa. Akka dheekkamsi isaa sodaachisaan sun isin irraa deebi'uuf
WAAQAYYO Waaqa keessan tajaajilaa. 9 Sababii WAAQAYYO Waaqni keessan arjaa
fi gara laafessa ta'eef isin yoo gara WAAQAYYOOTTI deebitan obboloonni keessanii fi
ijoolleen keessan warra isaan booji'an biratti gara laafina ni argatu; biyya kanattis
ni deebi'u. Isin yoo gara isaatti deebitan inni fuula isaa isin irraa hin garagalfatu."

10 Ergamoonnis Efreemii fi Minaasee keessa magaalaa tokkoo gara magaalaa
kaaniitti naanna'aa hamma Zebuuloonitti deeman; namoonni garuu isaan tuffatan;
itti qoosanis. 11 Namoonni Aasheer, kan Minaasee fi kan Zebuuloon tokko tokko garuu
gad of qabanii Yerusaalem dhaqan. 12 Akka isaan waan mootichii fi qondaaltonni isaa
akkuma dubbii WAAQAYYOOTTI ajajanii turan sana hojjetaniif harki Waaqaa yaada
tokko isaanii kennuuf akkasuma Yihuudaa irra ture.
13 Tuunni akka malee guddaan tokko ji'a lammaffaatti Ayyaana Maxinoo ayyaanes-
suuf Yerusaalem keessatti walitti qabame. 14 Isaanis iddoowwan aarsaa kan-
neen Yerusaalem keessa turan bubuqqisanii, iddoowwan aarsaa ixaanaas diiganii
geessanii Sulula Qeedroonitti ni gatan.

15 Guyyaa kudha afuraffaa ji'a lammaffaattis hoolaa Faasiikaa qalan. Luboonnii fi
Lewwonnis qaana'anii of qulqulleessuudhaan aarsaa gubamu gara mana qulqullum-
maa WAAQAYYOO fidan. 16 Ergasiis akkuma Seera Musee nama Waaqaa sanaa keessatti
ajajametti iddoo isaaniif ramadame ni qabatan. Luboonnis dhiiga Lewwonni isaanitti
kennan sana ni faffacaasan. 17 Sababii waldaa sana keessaa namoonni hedduun of
hin qulqulleessiniif Lewwonni namoota akka seeraatti hin qulqullaa'inii fi namoota
hoolota isaanii WAAQAYYOOF qulqulleessuu hin danda'in hundaaf jedhanii hoolota
Faasiikaa ni qalu turan. 18 Namoota biyya Efreem, Minaasee, Yisaakorii fi Zebuuloonii
dhufan hedduu keessaa garri caalu of qulqulleessuu baatan iyyuu isaan waan
barreeffameen alatti Faasiikaa nyaatan; Hisqiyaas garuu akkana jedhee Waaqa
kadhateef; "Yaa WAAQAYYOO tolaa, 19 nama garaa isaatiin si'i WAAQAYYO Waaqa

abbootii isaa barbaaduuf kutate hunda yoo inni akka seera iddoo qulqulluutti
qulqullaa'aa ta'uu baate illee ati araaramiif." [20] WAAQAYYOS kadhannaa Hisqiyaas
dhaga'ee saba sana ni fayyise.

[21] Israa'eloonni Yerusaalem keessatti argamanii turan gammachuu guddaadhaan
bultii torba Ayyaana Maxinoo ayyaaneffatan; Lewwonnii fi luboonni immoo
meeshaalee faarfannaa WAAQAYYOOTIIN guyyaa guyyaadhaan WAAQAYYOON galateef-
fachaa turan.

[22] Hisqiyaasis Lewwota waa'ee tajaajila WAAQAYYOO irratti hubannaa gaarii qaban
jajjabeessuudhaan itti dubbate. Isaanis bultii torbanuu waan isaaniif qoodame
nyaachaa, aarsaa nagaas dhi'eessaa WAAQAYYO Waaqa abbootii isaaniitiif galata
galchan.

[23] Waldaan sun guutuun bultii torba itti dabalee ayyaana sana ayyaaneffachuuf
walii gale; kanaafuu isaan bultii torba itti dabalanii gammachuudhaan ayyaaneffa-
tan. [24] Hisqiyaas mootichi Yihuudaas korommii loonii kuma tokko, hoolotaa fi re'oota
kuma torba waldaa sanaaf ni kenne; qondaaltonni isaa immoo korommii loonii kuma
tokko, hoolotaa fi re'oota kuma kudhan ni kennan. Luboonni akka malee baay'eenis
of qulqulleessan. [25] Waldaan Yihuudaa hundi, luboota, Lewwotaa fi namoota Israa'el
keessaa walitti qabaman hunda, akkasumas alagoota Israa'el keessaa dhufanii fi
kanneen Yihuudaa keessa jiraatan hunda wajjin ni gammadan. [26] Bara Solomoon
ilma Daawit mooticha Israa'el jalqabee waan wanni akkasii Yerusaalem keessatti
takkumaa hin ta'iniif Yerusaalem keessatti gammachuu guddaatu ta'e. [27] Ergasiis
luboonnii fi Lewwonni ka'anii saba eebbisan; Waaqnis isaan dhaga'e; kadhannaan
isaanii gara samii, iddoo inni jiraatu qulqulluu sana ga'eeraatii.

# 31

[1] Yommuu wanni kun hundi xumurametti Israa'eloonni achi turan gara maga-
alaawwan Yihuudaa dhaqanii dhagaawwan waaqeffannaa caccabsan; siidaawwan
Aasheeraa ni kukkutan. Iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa fi iddoowwan
aarsaa kanneen Yihuudaa, Beniyaam, Efreemii fi Minaasee keessa turan hunda
ni balleessan. Israa'eloonnis erga waan kana hunda balleessanii booddee gara
magaalaawwanii fi qabeenya isaaniitti deebi'an.

*Buusii Waaqeffannaaf Godhame*
*31:20-21 kwf – 2Mt 18:5-7*

[2] Hisqiyaasis tokkoo tokkoo isaanii akka isaan akkuma hojii lubummaa isaaniitti
yookaan akkuma hojii Lewwummaa isaaniitti aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa
dhi'eessaniif, akka isaan karra iddoo WAAQAYYO jiraatuu duratti tajaajilaniif, akka
isaan galata galchanii fi akka isaan faarfannaa galataa faarfataniif lubootaa fi
Lewwota garee gareedhaan ramade. [3] Mootichis akkuma Seera WAAQAYYOO keessatti
barreeffame sanatti, aarsaa gubamu kan ganamaa fi galgalaa akkasumas aarsaa
gubamu kan Sanbatootaa, Ayyaana Baatiiwwan Haaraa fi guyyaa ayyaana murte-
effameetiif qabeenya ofii isaa irraa ni kenne. [4] Innis akka luboonnii fi Lewwonni
Seera WAAQAYYOOTIIF of kennuu danda'aniif namoota Yerusaalem keessa jiraatan
akka isaan qooda jaraaf malu kennaniif ni ajaje. [5] Akkuma ajajni sun ba'eenis
Israa'eloonni mataa midhaan isaanii kan jalqabaa irraa, daadhii wayinii haaraa
irraa, zayitii fi damma irraa akkasumas waan lafa qotiisaa irraa argamu hunda
irraa arjummaadhaan kennan. Waan hunda irraa harka kudhan keessaa harka
tokko guddisanii ni fidan. [6] Namoonni Israa'elii fi Yihuudaa warri magaalaawwan
Yihuudaa keessa jiraatanis loonii fi bushaayee isaanii irraa harka kudhan keessaa
harka tokko, akkasumas waan WAAQAYYO Waaqa isaaniitiif qulqulleeffame irraa
harka kudhan keessaa harka tokko ni fidan; ni tuulanis. [7] Isaanis hojii kana

ji'a sadaffaatti jalqabanii ji'a torbaffaatti fixan. 8 Hisqiyaasii fi qondaaltonni isaa
yommuu dhufanii tuullaawwan sana arganitti WAAQAYYOON ni galateeffatan; saba
isaa Israa'elinis ni eebbisan.
9 Hisqiyaasis waa'ee tuullaa sanaa lubootaa fi Lewwota gaafate; 10 maatii Zaadoq
keessaa Azaariyaa lubichi hangafni akkana jedhee deebise; "Erga namoonni kennaa
isaanii gara mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI fidduu jalqabanii as nu nyaata ga'aa
fi irraa hafaa arganneerra; sababii WAAQAYYO saba isaa eebbiseef hambaan akka
malee guddaan kun hafeera."
11 Hisqiyaasis akka isaan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti mankuusaalee
qopheessan ajaje; isaanis ni qopheessan. 12 Isaanis ergasii buusii, kennaa harka
kudhan keessaa harka tokkoo fi kennaawwan qulqulleeffaman amanamummaad-
haan fidan. Wantoota kanneen irrattis Konaneyaan Lewwichi itti gaafatamaa ture;
obboleessi isaa Shime'iin immoo sadarkaadhaan itti aanaa isaa ture. 13 Yehii'eel,
Azaziyaa, Nahaati, Asaaheel, Yeriimooti, Yoozaabaad, Elii'eel, Yismakiyaa, Mahatii fi
Benaayaa, Konaneyaa fi obboleessa isaa Shime'ii jalatti to'attoota ta'anii Hisqiyaas
mootichaa fi Azaariyaa itti gaafatamaa mana qulqullummaa Waaqaatiin muudaman.
14 Qooraahi ilmi Yimnaa Lewwichi, eegduun Karra Ba'aa sun kennaa fedhiidhaan
Waaqaaf kenname irratti, akkasumas buusii WAAQAYYOOF godhamee fi kennaawwan
qulqulleeffaman qooduu irratti itti gaafatamummaa qaba ture. 15 Eeden, Mi-
iniyaamiin, Yeeshuu'aan, Shemaa'iyaan, Amariyaa fi Shekaaniyaan magaalaawwan
lubootaa keessatti luboota michoota isaaniitiif guddaa fi xinnaa akkuma tokkotti
garee garee isaaniitti isaaniif qooduudhaan amanamummaadhaan isa gargaaran.
16 Kana malees dhiirota umuriin isaanii waggaa sadii fi sanaa ol ta'e kanneen
maqaan isaanii galmee hidda dhalootaa keessa jiru warra akkuma itti gaafata-
mummaa isaanii fi ramaddii isaaniitti qooda hojii isaanii kan guyyaa guyyaa
hojjetamu hojjechuuf mana qulqullummaa WAAQAYYOO seenuu danda'an hundaaf
akkasuma ni qoodan. 17 Luboota maatii isaaniitiin galmee hidda dhalootaa keessatti
galmeeffamanii fi Lewwota umuriin isaanii waggaa digdamaa fi sanaa ol ta'eefis
akkuma itti gaafatamummaa fi qooda hojii isaaniitti ni ramadaniif. 18 Luboonni
kunneen ijoollee isaanii xixinnoo, niitota isaanii, ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii
kanneen waldaa guutuu keessa jiran hunda wajjin ni galmeeffaman; isaan of
qulqulleessuudhaan amanamoo turaniitii.
19 Luboota sanyiiwwan Aroon kanneen lafa qotiisaa naannoo magaalaawwan
isaanii yookaan magaalaawwan biraa keessa jiraataniif, dhiirota garee isaanii
kanneen galmee hidda dhaloota Lewwotaa keessatti galmeeffaman hundaaf akka
qoodaniif namoonni filatamanii turan.
20 Hisqiyaas waan kana guutummaa Yihuudaa keessatti ni hojjete; innis waan
fuula WAAQAYYO Waaqa isaa duratti gaarii, qajeelaa fi amanamaa ta'e ni hojjete.
21 Innis mana qulqullummaa Waaqaa keessa hojjechuunis ta'u, seeraa fi ajajawwaniif
ajajamuudhaan waan hojjete hunda keessatti Waaqa isaa barbaaduudhaaf garaa isaa
guutuudhaan ni hojjete; kanaafuu inni ni milkaa'e.

# 32

*Senaaheriib Yerusaalemin Marse*
*32:9-19 kwf – 2Mt 18:17-35; Isa 36:2-20*
*32:20-21 kwf – 2Mt 19:35-37; Isa 37:36-38*

1 Erga Hisqiyaas waan kana hunda amanamummaadhaan hojjetee booddee
Senaaheriib mootichi Asoor dhufee Yihuudaa weerare. Mo'atee isaan qabachuud-
haafis magaalaawwan dallaa dhagaa qaban marse. 2 Hisqiyaasis yommuu akka
Senaaheriib dhufee Yerusaalemin loluu barbaade argetti, 3 burqaa bishaanii kan

magaalaan ala jiru cufuuf qondaaltota isaa fi loltoota isaa wajjin mari'ate; isaanis
isa gargaaran. 4 Namoonni akka malee hedduun walitti qabamanii, "Mootonni Asoor
maaliif dhufanii bishaan baay'ee argatan?" jedhanii burqaawwanii fi lageen biyya
sana keessa yaa'an hunda ni cufan. 5 Ergasii mootichi jabaatee hojjechuudhaan
dallaawwan dhagaa kanneen jijjigan hunda dhaabuudhaan gamoowwan eegumsaa
achi irratti ijaare. Isaan alatti immoo dallaawwan biraa ijaaree daangaa Magaalaa
Daawit cimse. Akkasumas mi'oota lolaa fi gaachanawwan baay'ee hojjete.

6 Innis ajajjoota loltootaa uummata irratti muudee oobdii karra magaalaa irratti
fuula isaa duratti walitti qabee akkana jedhee isaan jajjabeesse; 7 "Jabaadhaa; cimaa.
Isin sababii mooticha Asoorii fi sababii loltoota akka malee baay'ee kanneen isa
wajjin jiran sanaatiif jettanii hin sodaatinaa; humni nu wajjin jiru kan isa wajjin
jiru caalaatii. 8 Kan isa wajjin jiru humna foonii qofaa dha; kan nu wajjin jiru
garuu WAAQAYYO Waaqa keenya isa nu gargaaruu fi isa lola keenya nuuf loluu dha."
Uummanni dubbii Hisqiyaas mooticha Yihuudaatiin jajjabaate.

9 Kana booddees Senaaheriib mootichi Asoor utuma loltoota isaa hunda wajjin Laakkiish marsee jiruu, harka ajajjoota loltoota isaatti akkana jedhee gara
Yerusaalemitti Hisqiyaasii fi namoota Yihuudaa kanneen achi jiran hundatti ergaa
kana erge:

10 "Senaaheriib mootichi Asoor akkana jedha: Yerusaalem ishee marfamte kana
keessa turuun keessan of amanachuu kee maal irratti hundeeffatte? 11 Hisqiyaas,
'WAAQAYYO Waaqni keenya harka mootii Asoor jalaa nu baasa' jechuun isaa akka
isin beelaa fi dheebuudhaan dhumtaniif mitii? 12 Namni Yihuudaa fi Yerusaalemiin,
'Isin iddoo aarsaa tokko duratti sagaduu fi isuma irratti aarsaa gubamu dhi'eessuu
qabdu' jedhee iddoowwan sagadaa fi iddoowwan aarsaa Waaqa kanaa balleesse
Hisqiyaasuma mataa isaa mitii?

13 "Isin waan anii fi abbootiin koo saboota biyyoota biraa hunda goone hin
beektanii? Waaqonni saboota sanaa biyya isaanii harka koo jalaa takkumaa baasuu
danda'aniiruu? 14 Waaqota abbootiin koo balleessan kanneen hunda keessaa
isa kamtu saba isaa harka koo keessaa baasuu danda'e? Yoos Waaqni keessan
akkamitti harka koo keessaa isin baasuu danda'a ree? 15 Ammas Hisqiyaas akkasitti
isin gowwoomsee karaa irraa isin hin jal'isin. Waaqni saba yookaan mootummaa
kamii iyyuu saba isaa harka koo yookaan harka abbootii koo jalaa baasuu hin
dandeenyeetii isa hin amaninaa. Waaqni keessan immoo harka kootii isin baasuuf
hammam haa yaratu ree!"

16 Qondaaltonni Senaaheriibis waan kana caalaa hedduu WAAQAYYO Waaqaa fi
Hisqiyaas garbicha isaa irratti ni dubbatan. 17 Mootichis akkasuma WAAQAYYO
Waaqa Israa'el arrabsuudhaan, waan hamaa illee isatti dubbachuudhaan, "Akkuma
waaqonni biyyoota biraa saba isaanii harka koo jalaa baasuu hin danda'in sana
Waaqni Hisqiyaasis saba isaa harka koo jalaa oolchuu hin danda'u" jedhee xalayaa
barreesse. 18 Kana irratti isaan naasisuu fi sodaachisuudhaan magaalaa sana
qabachuudhaaf saba Yerusaalem kan dallaa dhagaa irra tureetti afaan Ibraayisxiitiin
sagalee isaanii ol fudhatanii iyyan. 19 Isaan akkuma waa'ee waaqota saboota
addunyaa biraa kanneen harka namaatiin hojjetaman sanaa dubbatan sana waa'ee
Waaqa Yerusaalem dubbatan.

20 Hisqiyaas Mootichii fi Isaayyaas raajichi ilmi Amoos waa'ee waan kanaatiif
kadhannaadhaan gara samiitti ol iyyan. 21 WAAQAYYOs ergamaa isaa tokko itti erge;
ergamaan sunis qubata loltoota mooticha Asoor keessatti loltoota, hooggantootaa fi
ajajjoota loltootaa ni balleesse. Kanaafuu mootichi salphinaan gara biyya isaatti
deebi'e. Yeroo inni galma Waaqa isaa seenettis ilmaan isaa achumatti goraadeedhaan
isa cicciran.

22 WAAQAYYO akkasiin Hisqiyaasii fi namoota Yerusaalem harka Senaaheriib
mooticha Asoorii fi harka diinota isaa hundaa jalaa ni baase. Inni karaa hundaan
isaan eege. 23 Namoonni baay'eenis gara Yerusaalemitti WAAQAYYOOF aarsaa fidan;
Hisqiyaas mooticha Yihuudaatiif immoo kennaa gatii guddaa fidan. Innis yeroo sanaa
jalqabee fuula saboota hundaa duratti ulfina argate.

*Of tuulummaa, Milkaa'inaa fi Du'a Hisqiyaas*
*32:24-33 kwf – 2Mt 20:1-21; Isa 37:21-38; 38:1-8*

24 Bara sana keessa Hisqiyaas dhukkubsatee du'uu ga'e. Innis WAAQAYYOON ni
kadhate; Waaqayyos deebii kennee fi mallattoo dinqisiisaa isa argisiise. 25 Hisqiyaas
garuu garaa isaatti of tuule malee waan gaarii isaaf godhameef deebii malu hin
kennine; kanaafuu dheekkamsi WAAQAYYOO isatti, Yihuudaa fi Yerusaalemitti dhufe.
26 Kana irratti Hisqiyaas akkuma namoota Yerusaalem sanaa of tuulummaa garaa isaa
irraa ni deebi'e; kanaafuu bara Hisqiyaas keessa dheekkamsi WAAQAYYOO isaanitti hin
dhufne.
27 Hisqiyaas qabeenya akka malee baay'ee fi ulfina guddaa qaba ture; innis
meetii isaaf, warqee isaaf, dhagaawwan isaa gati jabeeyyiif, urgooftuuwwan isaaf,
gaachanawwan isaa fi mi'oota garaa garaa kanneen gatii guddaa qaban hundaaf
mankuusa ni ijaare. 28 Akkasumas midhaaniif gombisaa ijaare; daadhii wayinii
haaraa fi zayitiidhaaf qodaa itti kuusan qopheesse; loon gosa hundaaf dallaa,
bushaayeef immoo gola ni ijaare. 29 Innis sababii Waaqni badhaadhummaa guddaa
isaaf kenneef bushaayee baay'ee, karra loonii hedduus horatee magaalaawwanis ni
ijaarrate.
30 Namni afaan burqaa Giihoon kan olii cufee bishaan isaa gara lixa Magaalaa
Daawititti jal'ise Hisqiyaasuma kana. Hojiin isaa hundis ni milkaa'eef. 31 Garuu yeroo
bulchitoonni Baabilon waa'ee hojii dinqii kan biyya sanatti hojjetamee isa gaafachuuf
ergamoota erganitti Waaqni isa qoruu fi waan garaa isaa keessa jiru ilaaluudhaaf isa
dhiise.
32 Wantoonni bara mootummaa Hisqiyaas keessa hojjetaman kanneen biraa fi
gaarummaan isaa mul'ata Isaayyaas raajicha ilma Amoos, kitaaba moototа Yihuudaa
fi Israa'el keessatti barreeffamaniiru. 33 Hisqiyaasis abbootii isaa wajjin boqotee
lafa awwaala sanyiiwwan Daawititti gaara irratti awwaalame. Yeroo inni du'ettis
Yihuudaa fi sabni Yerusaalem hundinuu isa kabajan. Ilmi isaa Minaaseen iddoo isaa
bu'ee mootii ta'e.

# 33

*Minaasee Mooticha Yihuudaa*
*33:1-10 kwf – 2Mt 21:1-10*
*33:18-20 kwf – 2Mt 21:17-18*

1 Minaaseen yeroo mootii ta'etti nama waggaa kudha lama ture; innis Yerusaalem
keessa taa'ee waggaa shantamii shan bulche. 2 Innis waan jibbisiisaa saboota
WAAQAYYO fuula Israa'elootaa duraa ari'ee baase sanaa duukaa bu'uudhaan fuula
WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. 3 Inni iddoowwan sagadaa kanneen abbaan
isaa Hisqiyaas barbadeessee ture sana illee deebisee ni ijaare; akkasumas Ba'aaliif
iddoowwan aarsaa tolchee siidaawwan Aasheeraas ni dhaabe. Raayyaawwan samii
hundaafis ni sagade; isaan waaqeffates. 4 Innis mana qulqullummaa WAAQAYYOO
kan WAAQAYYO, "Maqaan koo bara baraan Yerusaalem keessa ni jiraata" jedhee
waa'ee isaa dubbate sana keessatti iddoowwan aarsaa tolche. 5 Oobdiiwwan
mana qulqullummaa WAAQAYYOO lamaanuu keessattis raayyaawwan samii hundaaf
iddoowwan aarsaa ni tolche. 6 Sulula Ben Hinoomittis ilmaan isaa ibiddaan aarsaa
godhee dhi'eesse; tolchaa fi falfala hojjetee, milkii ilaallatee, ilaaltotaa fi eker

dubbistoota gorsa gaafate. Inni fuula WAAQAYYOO duratti hammina guddaa ni hojjetee akkasiin dheekkamsaaf isa kakaase.

7 Innis fakkii Waaqa tolfamaa kan hojjetee ture sana geessee mana qulqullummaa
Waaqaa kan Waaqni akkana jedhee waa'ee isaa Daawitii fi ilma isaa Solomoonitti
dubbatee ture sana keessa kaa'e; "Mana qulqullummaa kana keessaa fi Yerusaalem
ishee ani gosoota Israa'el hunda keessaa filadhe keessa Maqaa koo bara baraan nan
dhaaba. 8 Yoo isaan waan ani waa'ee seera, labsii fi qajeelcha karaa Museetiin
kenname sanaa isaan ajaje hunda hojjetanii ani si'achi akka miilli Israa'elootaa biyya
ani abbootii keessaniif kenne keessaa ba'u hin godhu." 9 Minaaseen Yihuudaa fi
namoota Yerusaalem karaa irraa jal'ise; kanaafuu isaan saboota WAAQAYYO fuula
Israa'elootaa duraa balleesse sana caalaa hammina hojjetan.

10 WAAQAYYOS Minaasee fi saba isaatti dubbateera; isaan garuu dhaga'uu hin
feene. 11 Kanaafuu WAAQAYYO ajajjoota loltoota mootii Asoor isaanitti kaase; isaanis
Minaasee qabanii hokkoo funyaanitti ka'aanii foncaadhaan hidhanii Baabilonitti isa
geessan. 12 Innis lubbamee WAAQAYYO Waaqa isaa barbaadee fuula Waaqa abbootii
isaa duratti akka malee gad of qabe. 13 WAAQAYYOS yeroo inni isa kadhatetti na'eefii
waammata isaa dhaga'eef; deebisees gara Yerusaalem mootummaa isaatti isa fide.
Minaaseenis ergasii akka WAAQAYYO Waaqa ta'e ni beeke.

14 Ergasii dallaa Magaalaa Daawit isa alaa, karaa lixa burqaa Giihoon kan sulula
keessaa gaara Oofeelitti naannessee hamma Karra Qurxummiitti ni haaromse; dallaa
kanas akka malee ol dheeresse. Magaalaawwan Yihuudaa kanneen dallaa jabaa
qaban hunda keessas ajajjoota waraanaa ni qubachiise.

15 Innis waaqota ormaa fi fakkiiwwan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessaa ni
balleesse; akkasumas iddoowwan aarsaa kanneen inni gaarran mana qulqullummaa
irraa fi Yerusaalem keessatti tolche hundas ni diige; magaalaa keessaas baasee ni gate.
16 Iddoo aarsaa WAAQAYYOO deebisee dhaabee aarsaa nagaa fi aarsaa galataa irratti
ni dhi'eesse; akka isaan WAAQAYYO Waaqa Israa'el tajaajilaniif namoota Yihuudaa
ni ajaje. 17 Ta'us sabni ittuma fufee iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa
keessatti aarsaa dhi'eesse; garuu uummanni sun WAAQAYYO Waaqa isaa qofaaf aarsaa
dhi'eessaa ture.

18 Wantoonni bara mootummaa Minaasee keessa hojjetaman kanneen biraa, kad-
hannaan inni Waaqa isaa kadhatee fi dubbii inni namoota waa arganii himan maqaa
WAAQAYYO Waaqa Israa'eliin isatti himan dabalatee seenaa mootota Israa'el keessatti
barreeffameera. 19 Kadhannaan isaa fi akki Waaqni itti garaa laafeefii kadhannaa isaa
dhaga'eef, cubbuun inni hojjete hundii fi amanamummaa dhabuun isaa, akkasumas
utuu gad of hin qabin dura iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa ijaaruun
isaa, siidaawwan Aasheeraa fi waaqota tolfamoo dhaabuun isaa hundi galmeewwan
namoota waa arganii himanii keessatti barreeffamaniiru. 20 Minaaseenis abbootii
isaa wajjin boqotee masaraa mootummaa isaa keessatti awwaalame. Ilmi isaa
Aamoonis iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

### *Aamoon Mooticha Yihuudaa*
*33:21-25 kwf – 2Mt 21:19-24*

21 Aamoon yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii lama ture. Innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa lama bulche. 22 Innis akkuma abbaan isaa
Minaaseen hojjetee ture sana fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa hojjete. Aamoon
waaqota Minaaseen tolche waaqeffate; hunda isaaniitifis aarsaa dhi'eesse. 23 Inni
garuu akka abbaa isaa Minaasee fuula WAAQAYYOO duratti gad of hin qabne; Aamoon
ittuma caalchisee yakka hojjete.

[24] Qondaaltonni Amoon isatti mari'atanii masaruma mootummaa isaa keessatti isa
ajjeesan. [25] Kana irratti namoonni biyya sanaa warra Aamoon Mootichatti malatan
hunda fixanii ilma isaa Yosiyaasin immoo iddoo isaa mootii godhatan.

# 34

*Geeddarama Yosiyaas Fide*
*34:1-2 kwf – 2Mt 22:1-2*
*34:3-7 kwi – 2Mt 23:4-20*
*34:8-13 kwf – 2Mt 22:3-7*

[1] Yosiyaas yeroo mootii ta'etti nama waggaa saddeetii ture; Yerusaalem keessa
taa'ees waggaa soddomii tokko bulche. [2] Inni fuula WAAQAYYOO duratti waan qajeelaa
ni hojjete; utuu mirgatti yookaan bitaatti hin gorinis karaa abbaa isaa Daawit irra
deeme.
[3] Inni mootii ta'ee waggaa saddeettaffaatti utuma umurii dargaggummaa keessa
jiruu Waaqa abbaa isaa Daawit barbaaduu jalqabe. Waggaa kudha lammaffaatti
immoo Yihuudaa fi Yerusaalem keessaa iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraa,
siidaawwan Aasheeraa, waaqota tolfamoo fi fakkiiwwan baqfamanii tolfaman ni
balleesse. [4] Qajeelfama isaatiinis iddoowwan aarsaa Ba'aal diigaman; iddoowwan
aarsaa ixaanaa kanneen achi irra turan caccabsee siidaawwan Aasheeraa, waaqota
tolfamoo fi fakkiiwwan hurreesse. Wantoota kanneenis daakee bulleessee awwaala
warra isaaniif aarsaa dhi'eessaa turanii irratti bittinneesse. [5] Lafee lubootaas
iddoowwan aarsaa isaanii irratti guggube. Haala kanaanis Yihuudaa fi Yerusaalemin
qulqulleesse. [6] Magaalaawwan Minaasee, kan Efreemii fi Simi'oon kanneen
hamma Niftaalemitti jiranii fi akkasumas diigamaa naannoowwan isaanii keessatti
[7] iddoowwan aarsaa fi siidaawwan Aasheeraa ni jijjigse; waaqota tolfamoo daaraa
godhe; iddoowwan aarsaa ixaanaa kanneen guutummaa Israa'el keessa jiran hundas
ni caccabse. Ergasiis Yerusaalemitti deebi'e.
[8] Yosiyaas mootii ta'ee waggaa kudha saddeettaffaatti erga biyyattii fi mana
qulqullummaa qulqulleessee booddee mana WAAQAYYO Waaqa isaa haaromsuuf
Shaafaan ilma Azaliyaa, Ma'aseyaa bulchaa magaalaa fi Yoo'aa ilma Yoo'aahaaz
galmeessaa sana erge.
[9] Isaanis gara Hilqiyaa lubicha ol aanaa dhaqanii maallaqa mana qulqullummaa
Waaqaatiif fidame sana itti kennan; maallaqa kanas Lewwota balbala eegantu
saboota Minaasee irraa, kan Efreem irraa, hambaawwan Israa'el hunda irraa, saba
Yihuudaa fi kan Beniyaam hunda irraa akkasumas jiraattota Yerusaalem irraa walitti
qabe. [10] Isaanis maallaqa sana namoota akka hojii mana qulqullummaa WAAQAYYOO
to'ataniif muudamanitti imaanaa kennan. Namoonni kunneenis hojjettoota mana
qulqullummaa haaromsanii akka duriitti deebisaniif ni kaffalu. [11] Akkasumas akka
isaan ijaarsa mootonni Yihuudaa akka diigamu godhan sanaaf dhagaa soofame,
laaxaawwan, mukkeen sutaa fi dareeraawwan bitaniif ogeeyyii mukaa fi ijaartotatti
maallaqa kennan.
[12] Namoonni sunis amanamummaadhaan hojicha hojjetan. Lewwota sanyii
Meraarii keessaa Yahaatii fi Obaadiyaan akkasumas sanyii Qohaati keessaa Za-
kkaariyaasii fi Meshulaam akka jara sana hojjechiisaniif isaan irratti muudaman.
Lewwonni meeshaa faarfannaa taphachuu beekan hundis [13] itti gaafatamtoota
hojjettoota hojii humnaa ta'anii hojjettoota hojii garaa garaa illee to'achaa turan.
Lewwonni tokko tokkos barreessitoota, qondaaltotaa fi eegdota balbalaa turan.

*Kitaabni Seeraa Argamuu Isaa*
*34:14-28 kwf – 2Mt 22:8-20*
*34:29-32 kwf – 2Mt 23:1-3*

14 Utuma isaan maallaqa mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI galfame sana baasaa
jiranuu Hilqiyaa lubichi Kitaaba Seera WAAQAYYOO kan karaa Museetiin kenname
sana arge. 15 Hilqiyaanis Shaafaan barreessaa sanaan, "Ani mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessatti Kitaaba Seeraa argeen jira" jedhe; kitaabichas Shaafaanitti
kenne.
16 Shaafaanis kitaabicha fuudhee mootichatti geessee akkana jedhe; "Qondaaltonni
kee waan ajajaman hunda hojjechaa jiru. 17 Maallaqa mana qulqullummaa
WAAQAYYOO keessa tures baasanii namoota hojii to'atanii fi hojjettootatti imaanaa
kennaniiru." 18 Kana irrattis Shaafaan barreessaan sun, "Hilqiyaa lubichi kitaaba
tokko natti kenneera" jedhee mootichatti hime. Shaafaanis fuula mootichaa duratti
kitaaba sana dubbise.
19 Mootichis yommuu dubbii Seeraa sana dhaga'etti uffata isaa tarsaase. 20 Innis
ajaja kana Hilqiyaatti, Ahiiqaam ilma Shaafaanitti, Abdoon ilma Miikaatti, Shaafaan
barreessichaa fi Asaayaa tajaajilaa mootichaatti ni kenne: 21 "Dhaqaatii waa'ee waan
kitaaba argame kana keessatti barreeffamee anaaf, hambaawwan Israa'el keessaatii
fi Yihuudaatiif WAAQAYYOON gaafadhaa. Sababii warri nuun duraa dubbii WAAQAYYOO
hin eeginiif dheekkamsi WAAQAYYOO guddaan nutti dhangala'eera; isaan akka waan
kitaaba kana keessatti barreeffame sana hundaatti hin jiraanneetii."
22 Hilqiyaa fi warri mootichi isa wajjin erge sun gara Huldaanaa raajittii jechuunis
niitii Shaluum ilma Toqe'aati, ilma Hasraat kan eegduu mana uffataa turte sanatti
himuu dhaqan. Isheenis Yerusaalem keessa aanaa lammaffaa keessa jiraatti turte.
23 Isheenis akkana isaaniin jette; "WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha:
Namicha natti isin erge sanatti akkana jedhaa himaa; 24 'WAAQAYYO akkana jedha: Ani
iddoo kanaa fi saba isaatti badiisa jechuunis abaarsa kitaaba fuula mootii Yihuudaa
duratti dubbifame sana keessatti barreeffame hunda nan fida. 25 Sababii isaan na
dhiisanii waaqota biraatiif ixaana aarsuudhaan waan harki isaanii tolche hundaan
dheekkamsaaf na kakaasaniif dheekkamsi koo iddoo kana irratti ni dhangala'a; hin
dhaamus.' 26 Mootii Yihuudaa kan akka isin WAAQAYYOON gaafattaniif isin erge sanatti
akkana jedhaatii himaa; 'WAAQAYYO Waaqni Israa'el waa'ee dubbii ati dhageesse
sanaa akkana jedha: 27 Sababii ati yeroo waan inni waa'ee iddoo kanaatii fi waa'ee
saba isaa waan hamaa dubbate dhageessetti garaan kee tuqamee fuula Waaqaa
duratti gad of qabdeef, sababii ati fuula koo duratti gad of qabdee, uffata kee
tarsaaftee boosseef ani si dhaga'eera, jedha WAAQAYYO. 28 Ani amma abbootii kee
biratti walittin si qaba; atis nagumaan awwaalamta. Waan hamaa ani iddoo kanaa
fi warra as jiraatanitti fiduuf jiru hunda iji kee hin argu.' "
Isaanis deebii ishee fudhatanii gara mootichaatti deebi'an.
29 Ergasiis mootichi maanguddoota Yihuudaa fi Yerusaalem hunda walitti ni
waame. 30 Innis namoota Yihuudaa, jiraattota Yerusaalem, lubootaa fi Lewwota
wajjin jechuunis nama xinnaa fi guddaa hunda wajjin gara mana qulqullummaa
WAAQAYYOOTTI ol ba'e. Dubbii Kitaaba Kakuu kan mana qulqullummaa WAAQAYYOO
keessatti argame sanaa hundas akka isaan dhaga'anitti dubbiseef. 31 Mootichis
utubaa isaa bira dhaabatee akka WAAQAYYOON duukaa bu'u, akka garaa isaa guutuu
fi lubbuu isaa guutuudhaan ajaja isaa, dambiiwwan isaatii fi labsiiwwan isaa eegee,
dubbiiwwan kakuu kanneen kitaaba kana keessatti barreeffamaniifis akka ajajamu
fuula WAAQAYYOO duratti kakuu ni haaromse.
32 Ergasiis akka namni Yerusaalemii fi Beniyaam keessa jiraatu hundi kakuu galu
ni godhe; namoonni Yerusaalemis akkuma kakuu Waaqaa jechuunis Waaqa abbootii
isaaniitti waan kana ni godhan.
33 Yosiyaasis guutummaa biyya Israa'el keessaa waaqota jibbisiisoo ni balleesse;
akka warri Israa'el keessa jiran hundinuus WAAQAYYO Waaqa isaanii waaqeffatan

ni godhe. Isaan hamma inni lubbuun jiraatetti WAAQAYYO Waaqa abbootii isaanii duukaa bu'uu irraa duubatti hin deebine.

# 35

### *Yosiyaas Faasiikaa Ayyaaneffachuu Isaa*
### *35:1,18-19 kwf – 2Mt 23:21-23*

1 Yosiyaas Yerusaalemitti WAAQAYYOOF Faasiikaa ayyaanesse; hoolaan Faasiikaas
guyyaa kudha afuraffaa ji'a jalqabaatti qalame. 2 Innis luboota hojii isaanii irratti
muudee akka isaan mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa tajaajilan isaan jaj-
jabeesse. 3 Lewwota Israa'eloota hunda barsiisanii fi WAAQAYYOOF qulqullaa'aniinis
akkana jedhe; "Taabota qulqullaa'aa sana mana qulqullummaa kan Solomoon ilmi
Daawit mooticha Israa'el ijaare keessa kaa'aa. Taabonni kun gatiittii keessanitti hin
baatamin. Isin amma WAAQAYYO Waaqa keessanii fi saba isaa Israa'elin tajaajilaa.
4 Akkuma qajeelfama Daawit mooticha Israa'elii fi ilma isaa Solomooniin barreeffame
sanaatti isin akkuma maatiiwwan keessaniitti garee gareedhaan of qopheessaa.

5 "Kutaa maatiiwwan obboloota keessanii kanneen Lewwota hin ta'iniitiif gareen
Lewwotaa tokko kutaa maatii tokkoo iddoo bu'aatii iddoo qulqulluu dhaabadhaa.
6 Hoolaa Faasiikaa qalaa; of qulqulleessaatii obboloota keessaniifis xobbaallaawwan
hoolaa qopheessaa; waan kanas akkuma WAAQAYYO karaa Museetiin ajaje sanatti
godhaa."

7 Yosiyaasis hoolotaa fi re'oota kuma soddomaa fi loon kuma sadii akka aarsaa
Faasiikaa ta'aniif namoota achi turan hundaaf qabeenyuma isaa irraa ni kenne.

8 Qondaaltonni isaas uummataaf, lubootaa fi Lewwotaaf fedhiidhaan buusii
kennan. Hilqiyaa, Zakkaariyaasii fi Yehii'eel bulchitoonni mana qulqullummaa
Waaqaa aarsaa Faasiikaatiif hoolotaa fi re'oota kuma lamaa dhibba ja'aa fi loon
dhibba sadii lubootatti kennan. 9 Konaneyaanis obboloota isaa Shemaa'iyaa fi
Naatnaa'el wajjin, akkasumas Hashabiyaan, Ye'ii'eelii fi Yoozaabaad dura buutonni
Lewwotaa sun hoolotaa fi re'oota kuma shanii fi loon dhibba shan akka isaan aarsaa
Faasiikaa ta'aniif Lewwotatti ni kennan.

10 Wanni hundinuu qopheeffamnaan akkuma mootichi ajaje sanatti luboonni iddoo
isaanii ijaajjan; Lewwonnis toora isaaniitiin ijaajjan. 11 Hoolonni Faasiikaa ni qala-
man; luboonnis dhiiga itti kenname ni faffacaasan; Lewwonni immoo hoolota irraa
gogaa ni baasan. 12 Isaanis akka jarri akkuma Kitaaba Musee keessatti barreeffame
sanatti WAAQAYYOOF dhi'eessaniif kutaa maatiiwwan sabaatiif kennuudhaaf aarsaa
gubamu kophaatti baasan. Loon illee akkasuma godhan. 13 Akkuma ajajame sanattis
hoolaa Faasiikaa ibiddaan waadan; aarsaa qulqulleeffame immoo okkoteetti, hubboo
fi xuwweetti affeelanii yoosuma namoota hundaaf qoqqoodan. 14 Isaanis ergasii
sababii luboonni sanyiin Aroon hamma halkan walakkaatti aarsaa gubamuu fi
cooma aarsaa dhi'eessaa turaniif ofii isaaniitii fi lubootaaf qophii godhan. Akkasiin
Lewwonni ofii isaaniitii fi luboota sanyii Aroon ta'aniif qopheessan.

15 Ilmaan Asaaf faarfattoonni akkuma Daawit, Asaaf, Heemaanii fi Yeduutuun waa
himaan mootichaa ajajan sana iddoodhuma isaaniif ramadame turan. Eegdonni
karraa kanneen tokkoo tokkoo karraa irra turan immoo waan obboloota isaanii
Lewwonni qophii isaaniif godhaniif iddoo isaaniitii deemuun hin barbaachifne.

16 Kanaafuu tajaajilli WAAQAYYOO hundinuu akkuma Yosiyaas Mootichi ajajetti
ayyaana Faasiikaa ayyaanessuu fi iddoo aarsaa WAAQAYYOO irratti aarsaa gubamu
dhi'eessuun guyyuma sana fiixaan ba'e. 17 Israa'eloonni achi turanis yeruma sana
Ayyaana Faasiikaa ayyaaneffatanii Ayyaana Maxinoo guyyaa torba ayyaaneffatan.
18 Bara Saamu'eel raajichaatii as Israa'el keessatti Faasiikaan takkumaa akkanatti
hin ayyaaneffamne; mootota Israa'el keessaas namni tokko iyyuu takkumaa akka

Yosiyaas namicha luboota, Lewwotaa fi namoota Yihuudaa fi Israa'el kanneen saba
Yerusaalem wajjin turan sana hunda wajjin godhe sanaatti Faasiikaa akkasii hin
ayyaaneffanne. 19 Faasiikaan kun bara mootummaa Yosiyaas keessaa waggaa kudha
saddeettaffaatti ayyaaneffame.

### *Yosiyaas Du'uu Isaa*
### *35:20–36:1 kwf – 2Mt 23:28-30*

20 Waan kana hunda booddee yeroo Yosiyaas mana qulqullummaa qopheessetti
Nekkoon mootichi Gibxi Karkemiishi ishee Efraaxiis biraa sanatti lolaaf ol ba'e;
Yosiyaasis of irraa isa deebisuudhaaf itti gad ba'e. 21 Nekkoon garuu, "Yaa mootii
Yihuudaa, wanni anaa fi si'i wal lolchiisu maali? Ani yeroo kanatti mana na lolu sana
loluufin dhufe malee si loluuf hin dhufne. Waaqni akka ani ariifadhu na ajajeera;
kanaafuu ati Waaqa na wajjin jiru kanaan mormuu dhiisi; yoo kanaa achii inni si
balleessaatii" jedhee namoota itti erge.
22 Ta'us Yosiyaas eenyumaa ofii isaa wallaalchifatee lola keessa seene malee isa
irraa hin deebine. Inni waan Nekkoon Waaqaan ajajamee isatti hime sana dhaga'uu
didee dirree Megidoo irratti isa waraanuudhaaf ba'e.
23 Warri xiyya darbatan Yosiyaas Mootichatti ni darbatan; innis ajajjoota loltoota
isaatiin, "Na fuudhaatii deemaa; ani akka malee madaa'eeraatii" jedhe. 24 Kanaafuu
isaan gaarii isaa keessaa isa fuudhanii gaarii biraa irra kaa'anii gara Yerusaalemitti
isa geessan; innis achitti du'e. Innis awwaala abbootii isaa keessatti awwaalame;
Yihuudaa fi Yerusaalem hundi isaaf ni boo'an.
25 Ermiyaasis faaruu boo'ichaa Yosiyaasiif baase; hamma har'aattis dhiironnii fi
dubartoonni faarfattoonni hundi faaruu boo'ichaa kanaan Yosiyaasin yaadatu. Kunis
Israa'el keessatti bartee ta'ee Faaruu Boo'ichaa keessatti barreeffame.
26 Wanni bara mootummaa Yosiyaas keessa hojjetame biraa fi gaarummaan isaa
akkuma waan Seera Waaqayyoo keessatti barreeffame sanaatti, 27 seenaan isaa
hundi jalqabaa hamma dhumaatti kitaaba moototа Israa'elii fi Yihuudaa keessatti
barreeffameera.

## 36

1 Ergasiis sabni biyya sanaa Yehoo'aahaaz ilma Yosiyaas fuudhanii Yerusaalem
keessatti iddoo abbaa isaa buusanii mootii isa godhan.

### *Yoo'aahaaz Mooticha Yihuudaa*
### *36:2-4 kwf – 2Mt 23:31-34*

2 Yehoo'aahaaz yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii sadii ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee ji'a sadii bulche. 3 Mootiin Gibxi immoo Yerusaalem
keessatti teessoo isaa irraa isa buuse; Yihuudaa irrattis gibira meetii taalaantii dhibba
tokkoo fi warqee taalaantii tokko mure. 4 Mootiin Gibxis Eliiyaaqiim obboleessa
Yehoo'aahaaz Yihuudaa fi Yerusaalem irratti mootii godhe; innis maqaa Eliiyaaqiim
geeddaree Yehooyaaqiim jedheen. Nekkoonis Yo'ahaz obboleessa Eliiyaaqiim fuud-
hee Gibxitti geesse.

### *Yehooyaaqiim Mooticha Yihuudaa*
### *36:5-8 kwf – 2Mt 23:36–24:6*

5 Yehooyaaqiim yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa digdamii shan ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa kudha tokko bulche. Inni fuula Waaqayyo Waaqa
isaa duratti waan hamaa hojjete. 6 Nebukadnezar mootichi Baabilon isatti duule; gara
Baabilonittis isa geessuudhaaf foncaa naasiitiin isa hidhe. 7 Nebukadnezar mi'oota
mana qulqullummaa Waaqayyoo guuree Baabilonitti geessee mana waaqeffannaa
isaa keessa ni kaa'e.

8 Wantoonni bara mootummaa Yehooyaaqiim keessa hojjetaman kanneen biraa,
wanni jibbisiisaan inni hojjetee fi balleessaan isa irratti argame hundi kitaaba seenaa
mootota Israa'elii fi Yihuudaa keessatti barreeffamaniiru. Ilmi isaa Yehooyaakiin
iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

*Yehooyaakiin Mooticha Yihuudaa*
*36:9-10 kwf – 2Mt 24:8-17*

9 Yehooyaakiin yeroo mootii ta'etti umuriin isaa waggaa kudha saddeet ture;
innis Yerusaalem keessa taa'ee ji'a sadii fi bultii kudhan bulche. Fuula WAAQAYYOO
durattis waan hamaa hojjete. 10 Birraa keessas Nebukadnezar Mootichi nama itti
ergee mi'oota mana qulqullummaa WAAQAYYOO kanneen gatii guddaa qaban wajjin
gara Baabilon isa fichisiise; Zedeqiyaa obboleessa abbaa Yehooyaakiin sana immoo
Yihuudaa fi Yerusaalem irratti mootii godhe.

*Zedeqiyaa Mooticha Yihuudaa*
*36:11-16 kwf – 2Mt 24:18-20; Erm 52:1-3*

11 Zedeqiyaa yeroo mootii ta'etti nama waggaa digdamii tokkoo ture; innis
Yerusaalem keessa taa'ee waggaa kudha tokko bulche. 12 Inni fuula WAAQAYYO Waaqa
isaa duratti waan hamaa ni hojjete; fuula Ermiyaas raajicha dubbii WAAQAYYOO isatti
dubbate sanaa durattis gad of hin qabne. 13 Akkasumas Nebukadnezar Mooticha
maqaa Waaqaatiin isa kakachiisee turetti illee ni fincile. Inni mataa jabaatee gara
WAAQAYYO Waaqa Israa'elitti deebi'uu ni dide. 14 Kana malees dura buutonni
lubootaa hundii fi uummanni wantoota jibbisiisoo saboota kaanii hunda duukaa
bu'uu fi mana qulqullummaa WAAQAYYOO kan inni Yerusaalem keessatti qulqulleesse
sana xureessuudhaan ittuma caalchisanii amanamummaa dhaban.

*Kufaatii Yerusaalem*
*36:17-20 kwf – 2Mt 25:1-21; Erm 52:4-27*
*36:22-23 kwf – Izr 1:1-3*

15 WAAQAYYO Waaqni abbootii isaanii waan saba isaa fi iddoo jireenya isaaf
garaa laafeef karaa ergamoota isaatiin ammumaa amma ergaa itti erge. 16 Isaan
garuu ergamoota Waaqaatti qoosan; dubbii isaas tuffatanii raajota isaa xinneessan.
Kanaanis dheekkamsi WAAQAYYOO saba isaatti ni bu'e; wanni isa qabbaneessus
hin argamne. 17 Kanaafuu inni mootii warra Baabilon isaanitti fide; mootichis
mana qulqullummaa keessatti dargaggoota isaanii goraadeedhaan fixe; dargaggoota
yookaan dubara, jaarsolii yookaan warra dullooman tokko illee hin hambifne.
Waaqni hunda isaanii dabarsee harka Nebukadnezaritti kenne. 18 Innis mana qulqul-
lummaa Waaqaatii mi'oota hunda xinnaa fi guddaa, qabeenya mana qulqullummaa
WAAQAYYOO, qabeenya mootichaa fi kan qondaaltota isaa saamee Baabilonitti geesse.
19 Isaan mana qulqullummaa Waaqaatti ibidda qabsiisanii dallaa Yerusaalem diigan;
masaraawwan mootummaa hunda gubanii waan gatii qabu hundas barbadeessan.

20 Inni hambaa goraadee irraa hafe booji'ee Baabilonitti geesse; isaanis hamma
mootummaan Faares aangoo qabatetti tajaajiltoota isaa fi tajaajiltoota ilmaan isaa
ta'an. 21 Biyyattiin boqonnaa sanbata ishee ni argatte; akka dubbiin WAAQAYYOO
kan afaan Ermiyaasiin dubbatame raawwatamuuf hamma waggaan torbaatamni
dhumutti biyyattiin yeroo ontee turte guutuu ni boqotte.

22 WAAQAYYO akka dubbiin WAAQAYYOO kan afaan Ermiyaasiin dubbatame sun
raawwatamuuf jedhee bara Qiiros mooticha Faares keessa waggaa jalqabaatti akka
inni mootummaa isaa hunda keessa labsii tokko dabarsuu fi akka labsiin sunis
barreeffamuuf hafuura Qiiros mooticha Faares ni kakaase; labsiin sunis akkana
jedha:

23 "Qiiros mootichi Faares akkana jedha:

“ ‘WAAQAYYO Waaqni samii mootummoota lafa irraa hunda naaf kenneera; akka ani Yihuudaa keessatti Yerusaalemitti mana qulqullummaa isaaf ijaaruufis na muudeera. Saba isaa keessaa nama gidduu keessanitti argamu kam iyyuu WAAQAYYO Waaqni isaa isa wajjin haa ta’u; innis ol haa ba’u.’ ”

# Kitaaba Izraa

*Labsii Qiiros*
*1:1-3 kwf – 2Sn 36:22-23*

1 WAAQAYYO akka dubbiin WAAQAYYOO kan afaan Ermiyaasiin dubbatame sun
raawwatamuuf jedhee bara Qiiros mooticha Faares keessa waggaa jalqabaatti akka
inni mootummaa isaa hunda keessa labsii tokko dabarsuu fi akka labsiin sunis
barreeffamuuf hafuura Qiiros mooticha Faares ni kakaase; labsiin sunis akkana
jedha:

2 "Qiiros mootichi Faares akkana jedha:

" 'WAAQAYYO Waaqni samii mootummoota lafa irraa hunda naaf kenneera; akka
ani Yihuudaa keessatti Yerusaalemitti mana qulqullummaa isaaf ijaaruufis na
muudeera. 3 Saba isaa keessaa nama gidduu keessanitti argamu kam iyyuu Waaqni
isaa isa wajjin haa ta'u; innis gara Yerusaalem ishee Yihuudaa keessaa sanaa ol
ba'ee mana qulqullummaa WAAQAYYO Waaqa Israa'el, Waaqa Yerusaalem keessa
jiraatu sanaa haa ijaaru.
4 Warra hafanii iddoo kam iyyuu jiraatan hundaaf
sabni biyya isaan keessa jiraatan sanaa kennaa fedhiidhaan mana qulqullummaa
Waaqaa kan Yerusaalem keessa jiru sanaaf kennuu irratti dabalee meetii fi warqee,
mi'aa fi horii gumaachuudhaan isa haa gargaaran.' "

5 Ergasii hangafoonni maatii Yihuudaa fi Beniyaam, luboonnii fi Lewwonni
jechuunis namoonni Waaqni garaa isaanii kakaase hundi dhaqanii mana WAAQAYYOO
kan Yerusaalem keessaa sana ijaaruuf qophaa'an.
6 Olloonni isaanii hundinuus
kennaa fedhiidhaan kennan irratti dabalanii mi'a meetii fi warqee, qodaa fi horii
akkasumas kennaawwan gatii guddaa baasan gumaachuudhaan isaan gargaaran.

7 Kana malees Qiiros Mootichi mi'oota mana qulqullummaa WAAQAYYOO kanneen
Nebukadnezar Yerusaalemii guurratee mana Waaqa isaa keessa kaa'atee ture sana
gad ni baase.
8 Qiiros mootichi Faares akka Mitredaat itti gaafatamaan qabeenyaa
sun mi'a sana fidee Sheeshbazaar bulchaa Yihuudaatiif lakkaa'u godhe.

9 Mi'oonni sunis:

saanii warqee 30,
saanii meetii 1,000,
distii meetii 29,
10 waciitii warqee 30,
waciitii meetii kan qadaada qabu 410,
mi'a gosa biraa 1,000.

11 Walumaa galatti mi'a warqeetii fi kan meetii 54,000 ture.

Sheeshbazaaris mi'oota kanneen hunda yeroo booji'amtoota Baabilonii baasee
Yerusaalemitti geessetti guuree deeme.

## 2

*Maqaa Namoota Boojuudhaa Deebi'anii*
*2:1-70 kwf – Nah 7:6-73*

1 Egaa isaan kunneen namoota kutaa biyya sanaa warra boojuu Nebukad-
nezar mootichi Baabilon sun booji'ee Baabilonitti isaan geessee ture sanaa
deebi'anii dha; isaanis Yerusaalemii fi Yihuudaatti deebi'anii tokkoon
tokkoon isaanii magaalaa ofii isaaniitti galan; 2 isaanis: Zarubaabel,
Yeeshuu'aa, Nahimiyaa, Seraayaa, Re'elaayaa, Mordekaayi, Bilshaan,
Misphaar, Baguwaayi, Rehuumii fi Ba'anaa wajjin dhufan.

Maqaa namoota saba Israa'el ta'anii:
3 sanyiin Phaarosh 2,172,
4 sanyiin Shefaaxiyaa 372,
5 sanyiin Aaraa 775,
6 sanyiin Fahat Mo'aab warri karaa Yeeshu'aa fi Yoo'aab dhalatan 2,812,
7 sanyiin Eelaam 1,254,
8 sanyiin Zaatuu 945,
9 sanyiin Zakaayi 760,
10 sanyiin Baanii 642,
11 sanyiin Beebay 623,
12 sanyiin Azgaad 1,222,
13 sanyiin Adooniiqaam 666,
14 sanyiin Baguwaay 2,056,
15 sanyiin Aadiin 454,
16 sanyiin Ateer warri karaa Hisqiyaas 98,
17 sanyiin Beesaay 323,
18 sanyiin Yooraa 112,
19 sanyiin Haashum 223,
20 sanyiin Gibaar 95,
21 namoonni Beetlihem 123,
22 namoonni Netoofaa 56,
23 namoonni Anaatoot 128,
24 namoonni Azmaawet 42,
25 namoonni Kiriyaati Ye'aariim, kan Kefiiraatii fi Bi'eeroot 743,
26 namoonni Raamaa fi Gebaa 621,
27 namoonni Mikmaas 122,
28 Namoonni Beet'eelii fi Aayi 223,
29 namoonni Neboo 52,
30 namoonni Magbiish 156,
31 namoonni Eelaam kaan 1,254,
32 namoonni Haariim 320,
33 namoonni Lood, kan Haadiidii fi Oonoom 725,
34 namoonni Yerikoo 345,
35 namoonni Senaa'aa 3,630.

36 Luboota:
Sanyiin Yedaa'iyaa warri karaa maatii Yeeshuu'aan dhufan 973,
37 sanyiin Imeer 1,052,
38 sanyiin Phaashihuur 1,247,
39 sanyiin Haariim 1,017.

40 Lewwota:
Sanyiin Yeeshuu'aa fi Qadmii'eel, karaa Hoodayiwaa dhufan 74.

41 Faarfattoota:
sanyiin Asaaf 128.

42 Eegdota karra mana qulqullummaa:
sanyiin Shaluum, sanyiin Ateer,
sanyiin Talmoon, sanyiin Aquub,
sanyiin Haxiixaa fi sanyiin Soobaay 139.

43 Tajaajiltoota mana qulqullummaa:
sanyii Ziihaa, sanyii Hasuufaa fi sanyii Xabaa'oot,
44 sanyii Keeroos, sanyii Sii'aa, sanyii Faadon;
45 sanyii Lebaanaa, sanyii Hagaabaa fi sanyii Aquub;
46 sanyii Haagaab, sanyii Shalmaayi, sanyii Haanaan;
47 sanyii Gideel, sanyii Gahar, sanyii Re'aayaa;
48 sanyii Reziin, sanyii Neqoodaa, sanyii Gazaam;
49 sanyii Uzaa, sanyii Faasehaa, sanyii Beesaay;
50 sanyii Asinaa, sanyii Me'uunimii fi sanyii Nefuusiim;
51 sanyii Baqbuuq, sanyii Haquufaa, sanyii Harhuur,
52 sanyii Bazluut, sanyii Mihiidaa fi sanyii Harshaa;
53 sanyii Barqoos, sanyii Siisaaraa fi sanyii Teemahi;
54 sanyii Neziiyaa fi sanyii Haxiifaa
55 Sanyii tajaajiltoota Solomoon:
Sanyii Soxaayi,
sanyii Sofereetii fi sanyii Firuudaa;
56 sanyii Ya'ilaa, sanyii Darqoonii fi sanyii Gideel;
57 sanyii Shefaaxiyaa, sanyii Haxiil,
sanyii Fookeret-Hazbaayimii fi sanyii Aamii;
58 tajaajiltoota mana qulqullummaatii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoon 392.

59 Warri armaan gadiis magaalaawwan Teel Melaa, Teel Hareshaa, Kiruub, Adaanii fi Imeeriitii dhufan; isaan garuu akka maatiin isaanii sanyii Israa'el ta'an mirkaneessuu hin dandeenye; isaanis:
60 sanyiin Delaayaa, sanyiin Xoobbiyaa fi sanyiin Neqoodaa 652.

61 Luboota keessaa immoo:
Sanyii Habayaa, sanyii Haqoosii fi kan Barzilaay; Barzilaayiin kun sababii intala Barzilaay namicha Gili'aad sanaa fuudheef maqaa kanaan waamame.
62 Isaan kunneen sababii galmee hidda dhalootaa keessaa maqaa maatii isaanii barbaadanii dhabaniif akka xuraa'otaatti ilaalamanii tajaajila
lubummaa dhowwaman. 63 Bulchaan biyyattiis hamma lubni Uriimii fi
Tumiimiidhaan tajaajilu tokko argamutti akka isaan nyaata nyaata hunda caalaa qulqulluu ta'e kam iyyuu hin nyaanneef isaan ajaje.

64 Warri boojuudhaa deebi'an walumaa galatti namoota 42,360 turan; 65 kana
malees tajaajiltoonni isaanii dhiiraa fi dubartiin 7,337 turan; akkasumas
isaan faarfattoota dhiiraa fi dubartii 200 qabu ture. 66 Isaan farda 736,
gaangolii 245, 67 gaala 435 fi harree 6,720 qabu ture.

68 Yommuu isaan mana WAAQAYYOO kan Yerusaalem keessa jiru sana ga'anitti
hangafoonni maatiiwwanii tokko tokko akka manni Waaqaa iddoo isaatti deebi'ee

ijaaramuuf kennaa fedhiidhaan kennamu ni gumaachan. 69 Isaanis akkuma
dandeettii isaaniitti warqee daariikii* 61,000, meetii minnaanii† 5,000 fi uffata
lubootaa 100 horii hojii kanaaf walitti qabametti ni dabalan.
70 Luboonni, Lewwonni, faarfattoonni, eegdonni karraa fi tajaajiltoonni mana
qulqullummaa namoota tokko tokko wajjin magaalaawwan ofii isaanii keessa
qubatan; Israa'eloonni kaan magaalaawwan ofii isaanii keessa qubatan.

# 3

*Iddoo Aarsaa Deebisanii Tolchuu*
1 Yeroo ji'i torbaffaan dhufee Israa'eloonni magaalaawwan isaanii keessa
qubatanitti uummanni akkuma nama tokkootti Yerusaalem keessatti walitti qabame.
2 Ergasiis Yeeshuu'aan ilmi Yoozaadaaq firoota isaa lubootaa wajjin, Zarubaabel
ilmi She'altii'eel firoota isaa wajjin akkuma Seera Musee nama Waaqaa sanaa
keessatti barreeffametti aarsaa gubamu achi irratti dhi'eessuudhaaf iddoo aarsaa
Waaqa Israa'el ijaaran. 3 Isaanis sababii namoota naannoo isaanii sodaataniif
iddoo aarsaa sana hundee isaa irratti ijaaranii achi irratti aarsaa gubamu WAAQAYY-
OOF dhi'eessan; aarsaa kanas ganamaa fi galgala dhi'eessan. 4 Ergasii akkuma
barreeffametti Ayyaana Daasii ni ayyaaneffatan; akkuma baay'ina aarsaa guyyaa
guyyaaf ramadameettis aarsaa gubamu ni dhi'eessan. 5 Kana booddees isaan
aarsaa gubamu kan yeroo yerootti dhi'eeffamu, aarsaa Baatii Haaraa fi aarsaawwan
ayyaanota WAAQAYYOOF qulqulleeffaman hundaaf, akkasumas kanneen fedhiidhaan
WAAQAYYOOF dhi'eeffaman ni kennan. 6 Guyyaa jalqaba ji'a torbaffaattis aarsaa
gubamu WAAQAYYOOF dhi'eessuu jalqaban; garuu hundeen mana qulqullummaa
WAAQAYYOO amma illee hin buufamne ture.

*Mana Qulqullummaa Deebisanii Ijaaruu*
7 Ergasii isaan warra dhagaa cabsanii fi ogeeyyii hojii mukaatiif maallaqa kennan;
warra Siidoonaa fi Xiiroosiif immoo akka isaan akkuma Qiiros mootichi Faares
ajaje sanatti Libaanoonii gara Yoopheetti galaana irra birbirsa gad erganiif nyaata,
dhugaatii fi zayitii kennan.
8 Isaanis erga mana Waaqaa kan Yerusaalem keessaa sana ga'anii booddee ji'a
lammaffaa waggaa lammaffaatti Zarubaabel ilmi She'altii'eel, Yeeshuu'aan ilmi
Yoozaadaaqii fi obboloonni isaanii kaan jechuunis luboonni, Lewwonnii fi warri
boojuudhaa Yerusaalemitti deebi'an hundinuu akka isaan ijaarsa mana WAAQAYYOO
to'ataniif Lewwota umuriin isaanii Waggaa digdamaa fi hammasii olii muudanii hojii
sana jalqaban. 9 Yeeshuu'aan ilmaan isaa fi obbolootaa isaa wajjin, Qadmii'eelii fi
ilmaan isaa, ilmaan Yihuudaa, ilmaan Heenaadaadii fi Lewwota, ilmaan isaanii fi
firoota isaanii wajjin warra mana Waaqaa ijaaran to'achuuf tokko ta'an.
10 Yommuu ijaartonni sun hundee mana qulqullummaa WAAQAYYOO buusanitti
luboonni uffata isaanii uffatanii malakata qabatan; Lewwonni immoo jechuunis
ilmaan Asaaf kilillee qabatanii akkuma Daawit Mootichi Israa'el ajajetti WAAQAYYOON
jajachuuf iddoo ofii isaanii qabatan. 11 Isaanis,
"Inni gaarii dha;
jaalalli inni Israa'eliif qabu bara baraan jiraata"
jedhanii leellisuu fi galateeffachuudhaan WAAQAYYOON faarfatan. Sabni hundinuu
sababii hundeen mana qulqullummaa WAAQAYYOO buufameef iyyee sagalee gud-
daadhaan WAAQAYYOON galateeffate. 12 Garuu luboonni, Lewwonnii fi hangafoonni
maatii warri durii kanneen mana qulqullummaa isa duraa sana argan hedduun yeroo
hundeen mana qulqullummaa kanaa buufamu arganitti sagalee ol fudhatanii boo'an;

* 2:69 2:69 Daariikiin tokko giraamii 8. † 2:69 2:69 Minnaaniin tokko giraamii 600.

warri kaan hedduun immoo gammachuudhaan iyyan. 
13 Sababii namoonni akka malee wacaniif namni tokko iyyuu iyya gammachuu fi iyya boo'ichaa gargar baasuu hin dandeenye; sagaleen sunis fagootti dhaga'ama ture.

# 4

*Mormii Ijaarsa Mana Qulqullummaa Mudate*

1 Diinonni Yihuudaa fi Beniyaam yeroo akka warri boojuudhaa deebi'an sun WAAQAYYO Waaqa Israa'eliif mana qulqullummaa ijaaraa jiran dhaga'anitti, 
2 gara Zarubaabelii fi gara hangafoonni maatiiwwanii dhufanii akkana jedhaniin; "Sababii nus akkuma keessan Waaqa keessan barbaannee bara Eesarhadoon mooticha Asoor kan as nu fide sanaatii jalqabnee aarsaa dhi'eessafii turreef nus isin wajjin haa ijaarru."

3 Zarubaabel, Yeeshuu'aa fi hangafoonni maatii Israa'el kaan garuu, "Isin mana Waaqa keenyaa nu wajjin ijaaruuf qooda hin qabdan. Numa qofatu akkuma Qiiros Mootichi Faares nu ajaje sanatti WAAQAYYO Waaqa Israa'eliif mana qulqullummaa ijaara" jedhanii deebisan.

4 Namoonni naannoo isaanii akka isaan itti fufanii ijaaruu sodaataniif namoota Yihuudaa abdii kutachiisuuf ka'an. 
5 Isaanis bara Qiiros mooticha Faaresiitii jalqabee hamma bara Daariyoos mooticha Faaresitti jiru hunda kaayyoo isaanii gufachiisuudhaaf qondaaltota isaaniin morman itti bitan.

*Mormii Bara Ahashweroosii fi Arxeksis Keessa Ture*

6 Isaanis jalqaba bara mootummaa Ahashweroositti saba Yihuudaa fi kan Yerusaalem himatan.

7 Bara Arxeksis mooticha Faares keessa Biishlaam, Mitredaat, Xaabi'eelii fi michoota isaa biraa xalayaa tokko Arxeksisitti barreessan. Xalayaan sunis qubee Araamaayikii fi afaan Araamaayikiin barreeffame.

8 Rehuum ajajaan qondaaltichii fi Shiimshaayi barreessaan sun Yerusaalemiin mormuudhaan akkana jedhanii xalayaa tokko Arxeksis moootichatti barreessan:

9 Rehuum ajajaan qondaaltichi, Shiimshaayi barreessaa fi michoota isaanii kaan wajjin jechuunis abbootii murtii fi qondaaltota namoota Tiripooliis, Faaresi, Arkii fi Baabilon dhufan, akkasumas warra Elaamota Suusaa dhufan bulchanii fi 
10 namoota Osnaapher guddichii fi kabajamaan sun biyyaa baasee magaalaa Samaariyaa keessaa fi Laga Efraaxiis gama qubachiise kaan wajjin barreessan.

11 Kun garagalcha xalayaa jarri isaaf erganii ti.

Gara Arxeksis Mootichaa,
tajaajiltoota kee warra Laga Efraaxiisiin Gamaa irraa:

12 Mootichi akka Yihuudoonni si biraa gara keenya dhufan sun Yerusaalem dhaqanii magaalaa finciltuu fi hamtuu sana deebisanii ijaaraa jiran beekuu qaba. Isaan dallaa dhagaa deebisanii ijaaruudhaan hundeewwan ishee jajjabeessaa jiru.

13 Kana malee iyyuu mootichi akka yoo magaalaan kun ijaaramtee dallaan ishee jajjabeeffame akka si'achi qaraxni, gibirri yookaan ashuuraan hin argamnee fi akka galiin mootummaas gad bu'u beekuu qaba. 
14 Nu amma waan itti gaafatamummaa masaraa mootummaa qabnuu fi waan akka mootichi ulfina dhabu arguu hin feeneef akka mootichi beekuuf jennee ergaa kana itti ergineerra; 
15 kunis akka manneen galmee abbootii keetii sakatta'amaniif. Atis galmeewwan kana keessatti akka magaalaan kun durumaa jalqabdee magaalaa finciltuu, kan moototaa fi kutaalee biyyaa rakkiftu, iddoo finciltuu taate ni argita. Wanni magaalaan kun barbadeeffamteefis kanuma. 
16 Yaa mooticha, yoo magaalaan kun ijaaramee

dallaan isaas jajjabeeffame, akka ati Laga Efraaxiis Gamaa waan tokko illee hin
qabaanne nu sitti himna.
17 Mootichis akkana jedhee deebii kana erge:
Gara Rehuum ajajaa qondaaltichaa, Shiimshaayi barreessaa fi michoota isaanii
kanneen Samaariyaa keessaa fi Efraaxiisiin gama jiraatan kaaniitti:
Nagaan keenya isin haa ga'u.
18 Xalayaan isin nuuf ergitan sun dubbifamee fuuluma koo duratti hiikameera.
19 Anis ajaja kennee galmeen qoratameera; magaalaan kunis akka durumaa
jalqabee moototatti fincilaa turte, akka isheen holqa finciltootaa fi mormitootaa
taates beekameera. 20 Yerusaalem moototа ciccimoo guutummaa Gama Laga
Efraaxiis bulchan qabdi turte; qaraxni, gibirrii fi ashuuraan isaaniif kennama ture.
21 Akka magaalaan kun deebifamtee hin ijaaramne hamma ani labsii baasutti akka
isaan hojii dhaabaniif isin amma namoota kanneenitti ajaja dabarsaa. 22 Akka
waan kana hin tuffanneef of eeggadhaa. Maaliif hamma rakkoon kun guddatee
fedhii mootummaatti gufuu ta'utti ittuma dhiiftuu?
23 Akkuma garagalchi xalayaa Arxeksis Mootichaa sun fuula Rehuum, Shiimshaayi
barreessaa fi michoota isaanii duratti dubbifameen isaan yoosuma gara Yihuudoota
Yerusaalem keessa jiraatanii dhaqanii humnaan hojii isaan dhaabsisan.

24 Akkasiin hojiin mana Waaqaa kan Yerusaalem keessaa sun hamma waggaa
lammaffaa bara Daariyoos mooticha Faaresitti ni dhaabatte.

# 5

*Xalayaa Taatenaayi Daariyoositti Erge*

1 Yeroo kanatti Haageen raajichii fi Zakkaariyaas ilmi Iddoo raajichi, maqaa Waaqa
Israa'el kan isaan wajjin jiraatu sanaan Yihuudoota warra Yihuudaa fi Yerusaalem
keessa jiranitti raajii dubbatan. 2 Kana irratti Zarubaabel ilmi She'altii'eelii fi
Iyyaasuun ilmi Yoosaadaaq Yerusaalem keessatti mana Waaqaa deebisanii ijaaruu
jalqaban. Raajonni Waaqaas isaan gargaaruuf isaanuma wajjin turan.
3 Yeroo sanatti Taatenaayi bulchaan Gama Laga Efraaxiis, Satarbuznaayii fi
deeggartoonni isaanii gara isaanii dhaqanii, "Akka isin mana qulqullummaa kana
deebiftanii ijaartanii fi akka isin dallaa dhagaa kanas akka duriitti deebiftan eenyutu
isiniif eeyyame?" jedhanii gaafatan. 4 Akkasumas, "Maqaan warra mana kana
ijaaruu eenyu fa'i?" jedhanii gaafatan. 5 Garuu iji Waaqa isaanii maanguddoota
Yihuudaa irra turte; isaanis hamma gabaasni sun Daariyoos bira ga'ee deebiin isaa
barreeffamaan dhufutti hojii hin dhaabne.
6 Kunis garagalchaa xalayaa Taatenaayi bulchaan Gama Laga Efraaxiis, Satarbuz-
naayi, deeggartoonni isaanii fi qondaaltonni Gama Laga Efraaxiis jiraatan Daariyoos
Mootichatti erganii ti. 7 Gabaasni isaan erganiif sunis akkana jedha:
Gara Daariyoos Mootichaa:
Nagaa ulfinaan guutame siif ergina.
8 Mootichi akka nu gara aanaa Yihuudaa gara mana qulqullummaa Waaqa
guddichaa dhaqnee turre haa beeku. Namoonni dhagaa gurguddaadhaan mana
sana ijaaraa, laaxaas keenyan manaa keessa kaa'aa jiru. Hojiin kunis ciminaan
hojjetamaa harka isaanii jalatti guddina argisiisaa jira.
9 Nu maanguddoota sana dubbifnee, "Eenyutu akka isin mana qulqullummaa
kana deebiftanii ijaartanii fi akka isin ijaarsa isaa akka duriitti deebiftan isiniif
eeyyame?" jennee isaan gaafanne. 10 Akkasumas akka maqaa hooggantoota isaanii
barreessinee si beeksifnuuf maqaa isaanii illee gaafannee ture.
11 Isaanis deebii kana nuu kennan:

“Nu garboota Waaqa samii fi lafaa ti; nu mana qulqullummaa kan bara dheeraan
dura ijaarame, kan mootiin Israa’el guddichi ijaaree fixe sana deebifnee ijaaraa
jirra. 12 Garuu sababii abbootiin keenya Waaqa samii aarsaniif inni dabarsee harka
Nebukadnezar namicha biyya Kaldootaa, mootii Baabilonitti isaan kenne; innis
mana qulqullummaa kana barbadeessee uummatas biyyaa baasee Baabilonitti
geesse.
13 “Ta’u illee waggaa tokkoffaa bara mootummaa Qiiros mooticha Baabilon
keessa Qiiros Mootichi akka manni Waaqaa kun deebifame ijaaramuuf labsii
tokko labse. 14 Innis mi’a warqee fi meetii mana Waaqaa kan Nebukadnezar
mana qulqullummaa Yerusaalem keessaa guuree Baabilonitti geesse sana masaraa
mootummaa Baabilon keessaa ni baase. Qiiros Mootichi namicha Sheeshbasaar
jedhamu kan inni bulchaa godhee muude sanatti mi’a kana kennee 15 akkana
jedheen; ‘Mi’a kana fuudhii dhaqiitii mana qulqullummaa kan Yerusaalem keessa
jiru sanatti galchi. Mana Waaqaas iddoo isaatti deebisii ijaari.’
16 “Ergasiis Sheeshbasaar kun dhufee hundee mana Waaqaa kan Yerusaalem
keessaa buuse. Yeroo sanaa jalqabee hamma ammaatti manni sun ijaaramaa jira;
garuu amma illee hin dhumne.”

17 Egaa amma yoo fedhii moottichaa ta’e, Qiiros Mootichi dhugumaan akka manni
Waaqaa kun Yerusaalem keessatti deebifamee ijaaramuuf labsii baasuu fi baasuu
baachuu isaa beekuuf galmeen masaraa mootummaa Baabilon haa qoratamu.
Ergasiis mootichi yaada waan kana irratti qabu nuuf haa ergu.

# 6

*Labsii Daariyoos*

1 Kana irratti Daariyoos Mootichi ajaja kenne; isaanis galmeewwan mana galmee
Baabilon keessatti kuufaman sana ni sakatta’an. 2 Kitaabni maramaan tokkos
Ahimetaa magaalaa guddaa kutaa biyyaa Meedee keessatti argame; kitaaba sana
irrattis akkana jedhamee barreeffamee ture:

Yaadachiisa:
3 Waggaa tokkoffaa bara mootummaa Qiiros Mootichaa keessa mootichi waa’ee
mana qulqullummaa Waaqaa kan Yerusaalem keessa jiru sanaa akkana jedhee
labsii baase:

Manni qulqullummaa kun iddoo aarsaan itti dhi’eeffamu ta’ee deebifamee haa
ijaaramu; hundeen isaas haa buufamu. Manni kunis ol dheerina dhundhuma
jaatamaa fi bal’ina dhundhuma jaatama qabaatee 4 dhagaa gurguddaa toora
sadii sadii fi muka toora tokko tokkoon haa ijaaramu. Baasiin hundinuus
qabeenya mootummaa keessaa baafamuu qaba. 5 Akkasumas mi’i warqee fi
meetii mana Waaqaa kan Nebukadnezar mana qulqullummaa kan Yerusaalem
keessaatii Baabilonitti fide sun iddoo isaanitti jechuunis mana qulqullummaa kan
Yerusaalemitti deebifamanii mana Waaqaa keessa kuufamu qabu.

6 Egaa ati Taatenaayi bulchaan Gama Laga Efraaxiis, Satarbuznaayii fi isin
michoota isaanii qondaaltonni kutaa biyya sanaa achii fagaadhaa. 7 Isin hojii
mana qulqullummaa Waaqaa kana keessa hin seeninaa. Bulchaan Yihuudootaa
fi maanguddoonni Yihuudootaa mana Waaqaa kana iddoo isaatti deebisanii haa
ijaaran.
8 Kana irratti ani waan isin ijaarsa mana Waaqaa kana keessatti maanguddoota
Yihuudootaa kanneeniif gochuu qabdan kunoo nan labsa:

Akka hojiin hin dhaabanneef baasiin namoota kanaa guutumaan guutuutti
qabeenya mootummaa irraa jechuunis gibira Gama Laga Efraaxiisii walitti qabamu
keessaa haa baafamu. [9] Wanni barbaachisu kam iyyuu jechuunis jiboonni,
korbeeyyiinii fi xobbaallaawwan hoolaa Waaqa samiitiif aarsaa gubamu ta’anii
dhi’eeffaman, akkasumas qamadiin, soogiddi, daadhiin wayinii fi zayitiin akkuma
luboonni Yerusaalem keessa jiraatan barbaadanitti utuu gargar hin citin guyyaa
guyyaadhaan isaaniif kennamuu qabu; [10] kunis akka isaan aarsaa Waaqa samiitti
tolu dhi’eessanii fi akka isaan jireenya mootichaa fi ilmaan isaatiif Waaqa
kadhataniifii dha.
[11] Kana caalaa iyyuu yoo namni kam iyyuu ajaja kana dide, ani akka utubaan
mana isaa keessaa buqqifamee inni irratti fannifamu labsii kana labseera. Sababii
yakka kanaatiif manni isaa tuulaa kosii ni ta’a. [12] Waaqni inni akka Maqaan isaa
achi jiraatu godhe sun mootii yookaan saba labsii kana geeddaruuf yookaan mana
qulqullummaa kan Yerusaalem keessaa barbadeessuuf harka ol fudhatu kam iyyuu
haa balleessu.
Ani Daariyoos labsii kana labseera. Wanni kunis ariitiidhaan hojii irra haa oolu.

### *Manni Qulqullummaa Xumuramee Eebbifame*

[13] Ergasii Taatenaayi bulchaan biyya Gama Laga Efraaxiis, Satarbuznaayii fi
michoonni isaanii akkuma Daariyoos Mootichi labsetti labsii sana ariitiidhaan hojii
irra ni oolchan. [14] Kanaafuu maanguddoonni Yihuudootaa lallaba Haagee raajichaatii
fi Zakkaariyaas ilma Iddootiin ijaarsa itti fufan; hojiinis ni milkaa’eef. Isaanis akkuma
ajaja Waaqa Israa’elii fi akkuma labsiiwwan Qiiros, Daariyoosii fi Arxeksis mootota
Faaresitti ijaarsa mana qulqullummaa sana ni xumuran. [15] Manni qulqullummaa
sunis waggaa ja’affaa bara Daariyoos Mootichaa keessa, bultii sadaffaa ji’a Adaaritti
ijaaramee dhume.
[16] Ergasii sabni Israa’el jechuunis luboonni, Lewwonnii fi booji’amtoonni hafan
ayyaana eebba mana Waaqaa gammachuudhaan ayyaaneffatan. [17] Eebba mana
Waaqaa kanaafis jiboota dhibba tokko, korbeeyyii hoolaa dhibba lamaa fi xobbaallaa
hoolaa dhibba afur kennan; sababii cubbuu Israa’el hundaaf immoo korbeeyyii re’ee
kudha lama jechuunis tokkoo tokkoo gosa Israa’eliif re’ee tokko tokko dhi’eessan.
[18] Ergasii immoo akkuma Kitaaba Musee keessatti barreeffametti tajaajila mana
Waaqaa kan Yerusaalem keessaa sanaaf luboota kutaa kutaa isaanitti, Lewwota
immoo garee garee isaaniitti ramadan.

### *Faasiikaa*

[19] Booji’amtoonnis guyyaa kudha afuraffaa ji’a jalqabaatti Faasiikaa ni ayyaan-
effatan. [20] Luboonnii fi Lewwonni of qulqulleessanii hundi isaanii akka seeraatti
ni qulqullaa’an. Lewwonni warra booji’aman hundaaf, obboloota isaanii lubootaa
fi ofii isaaniif hoolaa Faasiikaa qalan. [21] Kanaafuu Israa’eloonni boojuudhaa
deebi’an namoota WAAQAYYO Waaqa Israa’el barbaaduudhaaf hojii xuraa’ummaa
kan Namoota Ormaa kanneen ollaa isaanii jiraatan sanaa lagatan hunda wajjin
Faasiikaa sana ni nyaatan. [22] Sababii WAAQAYYO akka inni hojii ijaarsa mana
Waaqayyo Waaqa Israa’el keessatti isaan gargaaruudhaaf yaada mootii Asoor
geeddaruudhaan gammachuudhaan isaan guuteef isaan bultii torba guutuu Ayyaana
Maxinoo Buddeena gammachuudhaan ayyaaneffatan.

## 7

### *Izraan Yerusaalem Dhufe*

[1] Wantoota kanneen booddee bara Arxeksis mooticha Faares keessa Izraan ilmi
Seraayaa, ilmi Azaariyaa ilmi Hilqiyaa, [2] ilmi Shaluum, ilmi Zaadoq, ilmi Ahiixuub,

3 ilmi Amariyaa, ilmi Azaariyaa, ilmi Meraayoot, 4 ilmi Zeraayaa, ilmi Uzii, ilmi Bukii,
5 ilmi Abiishuuwaa, ilmi Fiinehaas, ilmi Ele'aazaar, ilmi Aroon lubicha ol aanaa
6 Izraan kun Baabilonii dhufe. Innis barsiisaa Seera Musee kan WAAQAYYO Waaqni
Israa'el kenne sana sirriitti beekuu dha. Sababii harki WAAQAYYO Waaqa isaa isa irra
tureef mootichi waan inni kadhate hunda ni kenneef. 7 Akkasumas waggaa torbaffaa
bara Arxeksis Mootichaa keessa Israa'eloonni tokko tokko jechuunis luboonni,
Lewwonni, faarfattoonni, eegdonni karraa fi tajaajiltoonni mana qulqullummaa gara
Yerusaalemitti ol ba'an.

8 Izraanis waggaa torbaffaa bara mootii sanaa keessa ji'a shanaffaatti Yerusaalem
ga'e. 9 Innis bultii tokkoffaa ji'a jalqabaatti karaa isaa Baabilonii jalqabee bultii
tokkoffaa ji'a shanaffaatti Yerusaalem ga'e; harki Waaqa isaa tolaan sun isa irra
tureetii. 10 Izraan Seera WAAQAYYOO qu'achuu fi eeguudhaaf akkasumas labsii fi ajaja
seerichaa Israa'el keessatti barsiisuudhaaf of kennee tureetii.

### *Xalayaa Arxeksis Mootichi Izraatti Erge*

11 Kun garagalcha xalayaa Arxeksis Mootichi Izraa lubichaa fi barsiisaa, namicha
waa'ee ajajaa fi labsiiwwan WAAQAYYO Israa'eliif kenne sanaa baratetti ergee ti:

12 Arxeksis mootii moototaa irraa;
Gara Izraa lubicha, barsiisaa Seera Waaqa samiitti:
Nagaan siif haa ta'u.

13 Ani amma akka namni Israa'el kan mootummaa koo keessa jiraatu kam iyyuu
luboonnii fi Lewwonni illee abbaan si wajjin Yerusaalem dhaquu barbaadu dhaquu
danda'u labseera. 14 Ati akka akkuma Seera Waaqa keetii kan harka kee jiru
sanaatti waa'ee Yihuudaa fi Yerusaalem qorattuuf mootichaa fi gorsitoota isaa
torbaan ergamteerta. 15 Kana irrattis meetii fi warqee mootichii fi gorsitoonni isaa
Waaqa Israa'el kan Yerusaalem keessa jiraatuuf toluma kennan sana fuudhii deemi;
16 waan kanas meetii fi warqee kutaa biyya Baabiloniitii walitti qabde hundaa
fi kennaa sabnii fi luboonni mana qulqullummaa Waaqa isaanii kan Yerusaalem
keessaaf fedhiidhaan kennan wajjin fuudhii dhaqi. 17 Maallaqa kanaanis jiboota,
korbeeyyii hoolaa fi xobbaallaa hoolaa, kennaa midhaanii fi dhibaayyuu isaanii
wajjin bitaatii iddoo aarsaa mana qulqullummaa Waaqa keessanii kan Yerusaalem
sana irratti dhi'eessaa.

18 Ergasii atii fi obboloonni kee Yihuudoonni meetii fi warqee hafe akkuma
fedhii Waaqa keessaniitti waanuma gaarii isinitti fakkaate irra oolchaa. 19 Mi'a
waaqeffannaa mana qulqullummaa Waaqa keetii keessaaf imaanaa sitti kenname
hunda Waaqa Yerusaalem duratti dhi'eessi. 20 Waan mana qulqullummaa Waaqa
keetiif barbaadamu kan kennuu feetu hunda mankuusa mootii keessaa fuudhii
kenni.

21 Egaa ani Arxeksis Mootichi akka qabdoonni maallaqaa kanneen Gama Laga
Efraaxiis jiran waan Izraan lubichi, barsiisaan Seera Waaqa samii kun isin gaafatu
hunda arjummaadhaan isaaf kennan ajajeera; 22 kunis hamma meetii taalaantii
dhibba tokko, qamadii qoroosii* dhibba tokko, daadhii wayinii baadoosii† dhibba
tokko, zayitii ejersaa baadoosii dhibba tokkoo fi soogidda hamma hin qabne
haa ta'u. 23 Wanni Waaqni samii ajaje kam iyyuu mana qulqullummaa Waaqa
samiitiif of eeggannaadhaan haa godhamu. Maaliif dheekkamsi mootichaa fi
ilmaan mootichaatti dhufa? 24 Amma illee isin akka luboota, Lewwota, faarfattoota,
eegdota karraa, tajaajiltoota mana qulqullummaa yookaan hojjettoota mana
Waaqaa kana keessa hojjetan kamitti iyyuu gibira, qaraxaa fi ashuuraa murteessuuf
aangoo hin qabne beekaa.

---

* **7:22** 7:22 Qoroosiin tokko liitirii 220. † **7:22** 7:22 Baadoosiin tokko liitirii 22.

25 Egaa Izraa, ati akkuma ogummaa Waaqa keetii kan harka kee jiru sanaatti
akka isaan warra Gama Laga Efraaxiis jiraatan bulchaniif abbootii seeraa fi
abbootii murtii kanneen hundi isaanii seera Waaqa keetii beekan muudi. Nama
seera Waaqaa hin beekne kam iyyuus barsiisi. 26 Namni seera Waaqa keetiitiif
yookaan seera mootichaatiif hin ajajamne kam iyyuu dhugumaan ajjeechaadhaan,
biyya keessaa ari'amuudhaan, qabeenyi isaa irraa dhaalamuudhaan yookaan
hidhaadhaan adabamuu qaba.
27 Waaqayyo Waaqni abbootii keenyaa kan akka inni karaa kanaan mana
Waaqayyoo kan Yerusaalem keessa jiruuf ulfina kennuuf garaa mootichaa keessa
yaada kana kaa'e sun haa galateeffamu; 28 Waaqa fuula mootichaa, fuula gorsitoota
mootichaa fi fuula qondaaltota mootichaa ciccimoo hundaa duratti gaarummaa ofii
isaa na argisiiseef galanni haa ga'u. Sababii harki Waaqayyo Waaqa koo anarra
tureef ani jajjabaadheen akka isaan na wajjin deemaniif Israa'el keessaa namoota
bebeekamoo walitti nan qabadhe.

# 8

*Maqaa Abbootii Maatii Kanneen Izraa Waliin Deebi'anii*

1 Warri kunneen hangafoota maatii fi warra isaan wajjin galmaa'an kanneen bara mootummaa Arxeksis Mootichaa keessa na wajjin Baabilonii dhufanii dha:

2 Sanyii Fiinehaas keessaa
Geershoom;
sanyii Iitaamaar keessaa
Daani'el;
sanyii Daawit keessaa
Haxuush 3 sanyii Shekaaniyaa;
sanyii Phaarosh keessaa Zakkaariyaas;
warri isa wajjin galmeeffamanis namoota 150 turan;
4 sanyii Fahat Mo'aab keessaa
Eliihoo'eenayi ilma Zaraayaa; warri isa wajjin turanis namoota 200 turan;
5 sanyii Zaatu'i keessaa Shekaaniyaa ilma Yahizii'eel;
warri isa wajjin turanis namoota 300 turan;
6 sanyii Aadiin keessaa Ebeed ilma Yoonaataan;
warri isa wajjin turanis namoota 50 turan;
7 sanyii Eelaam keessaa Yeshaayaa ilma Ataaliyaa;
warri isa wajjin turanis namoota 70 turan;
8 sanyii Shefaaxiyaa keessa Zebaadiyaa ilma Miikaa'el;
warri isa wajjin turanis namoota 80 turan;
9 sanyii Yoo'aab keessaa Obaadiyaa ilma Yehii'eel;
warri isa wajjin turanis namoota 218 turan;
10 sanyii Baanii keessaa Sheloomiit ilma Yoosifiyaa;
warri isa wajjin turanis namoota 160 turan;
11 sanyii Beebay keessaa Zakkaariyaas ilma Beebay;
warri isa wajjin turanis namoota 28 turan;
12 sanyii Azgaad keessaa Yoohaanaan ilma Haqaaxaan;
warri isa wajjin turanis namoota 110 turan;
13 sanyii Adooniiqaam keessaa
warra gara dhumaa kanneen maqaan isaanii Eliiphelex, Ye'ii'eelii fi Shemaa'iyaa jedhamuu dha; warri isaan wajjin turanis namoota 60 turan;

14 sanyii Baguwaay keessaa
Uutaayii fi Zakuur; warri isaan wajjin turanis namoota 70 turan.

*Gara Yerusaalemitti Deebi'uu*

15 Anis laga gara Ahawaatti yaa'u biratti walitti isaan nan qabe; nus guyyaa sadii
achi turre. Anis yeroon uummataa fi luboota to'adhetti Lewwota tokko illee isaan
keessaa nan dhabe. 16 Kanaafuu ani Elii'ezer, Arii'eel, Shemaa'iyaa, Elnaataan,
Yaariib, Elnaataan, Naataan, Zakkaariyaasii fi Meshulaam warra hooggantoota
turanii fi Yooyaariibii fi Elnaataan warra hayyoota ta'an sana nan waamsise;
17 ergasiis gara Iddoo namicha Kaasiifiyaa bulchuutti isaan nan erge. Anis akka
isaan namoota mana Waaqa keenyaa keessa tajaajilan nuuf fidaniif waan isaan
Iddoo fi firoota isaa kanneen mana qulqullummaa Kaasifiyaa keessa tajaajilaniin
jechuu qaban isaanitti nan hime. 18 Isaanis sababii harki Waaqaa tolaan sun nurra
tureef sanyii Mahilii keessaa Sheereebiyaa ilma Lewwii, ilma Israa'el, namicha
hubataa tokko ilmaan isaa fi obboloota isaa wajjin walumatti nama 18 nuuf fidan;
19 akkasumas Hashabiyaa fi ilmaan Meraarii keessaa immoo Yeshaayaa, obboloota
isaatii fi ilmaan obboloota isaa walumatti nama 20 nuuf fidan. 20 Amma illee
tajaajiltoota mana qulqullummaa kanneen Daawitii fi qondaaltonni isaa akka isaan
Lewwota gargaaraniif ramadan keessaa nama 220 nuuf fidan. Isaan kunneen hundi
maqaa maqaadhaan ni galmeeffaman.

21 Anis akka nu, ijoolleen keenyaa fi qabeenyi keenya hundi karaa nagaa deemnuuf
akka fuula Waaqa keenyaa duratti gad of qabnee kadhannuuf achuma Laga Ahawaa
biratti sooman nan labse. 22 Ani sababii nu, “Harki Waaqa keenyaa inni tolaan nama
isa abdatu hunda irra jira; warra isa dhiisu hunda irra garuu dheekkamsi isaa ni
bu'a” jennee mootichatti himnee turreef akka isaan karaa keenya irratti diinota
nurraa dhowwaniif loltootaa fi abbootii fardaa mooticha kadhachuu nan qaana'e.
23 Kanaafuu nu soomnee waan kana irratti Waaqa kadhanne; innis kadhaa keenyaaf
deebii kenne.

24 Anis luboota hangafoota keessaa kudha lama jechuunis Sheereebiyaa,
Hashabiyaa fi obboloota isaanii keessaa nama kudhan kophaatti nan baase; 25 anis
kennaa meetii, warqee fi mi'aa kan mootichi, gorsitoonni isaa, qondaaltonni isaa
fi Israa'eloonni achi turan hundi mana Waaqa keenyaatiif kennan irraa madaalee
isaaniif nan qoode. 26 Ani meetii taalaantii[*] 650, mi'a meetii kana taalaantii 100
ulfaatu, warqee taalaantii 100, 27 waciitii warqee 20 kan daariikii[†] 1,000 baasuu fi mi'a
naasii cululuqaa akkuma warqee gatiin isaa guddaa ta'e lama madaaleen qoodeef.

28 Anis akkanan isaaniin jedhe; “Isinii fi mi'i kun WAAQAYYOOF qulqulleeffamtani-
irtu. Meetii fi warqeen kun kennaa fedhiidhaan WAAQAYYO Waaqa abbootii keessani-
itiif kennamanii dha. 29 Hamma kutaalee mana WAAQAYYOO kan Yerusaalem keessaa
sana keessatti fuula luboota hangafootaa, fuula Lewwotaa fi hangafoota maatii
Israa'el duratti madaaltanii qooddanitti mi'a kana jabeessaa eegaa.” 30 Kanaafuu
luboonnii fi Lewwonni meetii, warqee fi mi'a qulqulluu madaalame sana mana
Waaqa keenyaa kan Yerusaalem keessaatti geessuuf ni fuudhan.

31 Nus bultii kudha lammaffaa ji'a tokkoffaatti Yerusaalem dhaquudhaaf Laga
Ahawaa biraa kaane. Harki Waaqa keenyaa nurra ture; innis diinotaa fi namoota
riphanii karaa irratti nama eegatan jalaa nu baase. 32 Akkasiinis Yerusaalem geenyee
bultii sadii achi boqonne.

33 Nus bultii afuraffaatti mana Waaqa keenyaa keessatti meetii, warqee fi mi'a
qulqulluu sana madaallee harka Mereemooti lubicha ilma Uuriyaa sanaatti ni
kennine. Ele'aazaar ilmi Fiinehaas akkasumas Lewwonni jechuunis Yoozaabaad

[*] **8:26** 8:26 Taalaantiin tokko kiiloo giraamii 34. [†] **8:27** 8:27 Daariikiin tokko giraamii 8.

ilmi Yeeshuu'aa fi Noo'adiyaan ilmi Binuuyii isa wajjin turan. 34 Wanni hundinuus
lakkaa'amee madaalame; ulfinni waan madaalame hundaas yeruma sana ni galme-
effame.

35 Ergasiis booji'amtoonni boojuudhaa deebi'an sun Israa'el hundaaf jiboota kudha
lama, korbeeyyii hoolaa sagaltamii ja'aa fi xobbaallaa torbaatamii torban aarsaa
gubamu, korbeeyyii re'ee kudha lama aarsaa cubbuu godhanii Waaqa Israa'eliif
dhi'eessan; kun hundi aarsaa gubamu kan Waaqayyoof dhi'eeffamee dha. 36 Isaan
ajaja mootichaa illee ajajjoota mootummaa fi bulchitoota Gama Laga Efraaxiisitti
dabarsan. Jarris sabaa fi mana Waaqaa gargaaran.

# 9

*Waa'ee fuudhaa fi Heeruma Walmakaa*

1 Erga wanni kun hojjetamee booddee hooggantoonni gara koo dhufanii akkana
jedhan; "Sabni Israa'el lubootaa fi Lewwota illee dabalatee saboota ollaa isaanii kan-
neen hojii jibbisiisaa hojjetan jechuunis Kana'aanota, Heetota, Feerzota, Yebuusota,
Amoonota, Mo'aabota, warra Gibxii fi Amoorota irraa addaan ba'anii hin jiraanne.
2 Isaanis intallan jaraa ofii isaaniitiif fuudhanii ilmaan isaaniis fuusisanii sanyii
qulqulluu sana saboota naannoo isaaniitti makan. Hooggantoonnii fi qondaaltonnis
balleessaa kana hojjechuu keessatti dura aantota turan."

3 Ani yeroon waan kana dhaga'etti qomee koo fi uffata koo nan tarsaasee, rifeensa
mataa koo fi areeda koo of irraa buqqisee akka malee rifadheen taa'e. 4 Kana
irratti namoonni dubbii Waaqa Israa'eliin hollatan hundi sababii balleessaa warra
boojuudhaa deebi'an kanaaf naannoo kootti walitti qabaman. Anis akka malee
rifadhee hamma aarsaa galgalaatti achuman taa'e.

5 Anis yeroo aarsaa galgalaatti akkuma qomee fi uffanni koo tarsa'ee jirutti lafan
gaddee taa'aa turee ka'ee jilbeenfadhee harka koo gara Waaqayyo Waaqa kootti
bal'isee 6 akkana jedheen kadhadhe:

"Yaa Waaqa ko, sababii cubbuun keenya mataa keenya bira ol darbee yakki
keenyas samii ga'eef, yaa Waaqa koo ani fuula koo gara keetti deebiffachuu akka
malee qaana'eera; saalfadheeras. 7 Bara abbootii keenyaatii jalqabee hamma
ammaatti balleessaan keenya guddaa dha. Sababii cubbuu keenyaaf nu, mootonni
keenyaa fi luboonni keenya akkuma har'aa kana harka moototа ormaa jalatti
goraadee fi boojuutti, saamichaa fi salphinatti dabarfamnee kennamneerra.

8 "Amma garuu Waaqayyo Waaqni keenya hambaa nuu hambisee iddoo isaa
qulqulluu sana keessatti iddoo amansiisaa nuuf kennuudhaan yeroo gabaabaad-
haaf garaa nuuf laafeera; akkasiinis Waaqni keenya ija keenyaaf ifa kenneera;
garbummaa keenya keessattis xinnoo nu boqochiiseera. 9 Nu garboota taanu illee
Waaqni keenya garbummaa keessatti nu hin ganne. Inni fuula moototа Faares
duratti jaalala isaa kan hin geeddaramne sana nu argisiiseera. Inni akka nu mana
Waaqa keenyaa deebifnee ijaarruu fi akka diigamaa isaa illee iddootti deebifnuuf
jireenya haaraa nuuf kenneera; Yihuudaa fi Yerusaalem keessattis dallaa da'annoo
nuu kenneera.

10 "Amma garuu yaa Waaqa keenya nu kana booddee maal jechuu dandeenya?
Nu ajaja 11 ati karaa garboota kee raajotaan kennite sanaaf hin ajajamneetii; innis
akkana jedha: 'Biyyi isin dhaaluudhaaf seenuutti jirtan xuraa'ummaa saba biyya
sanaan xuroofteerti. Isaan hojii jibbisiisaa isaaniitiin handaara tokkoo hamma
handaara kaanitti xuraa'ummaa isaaniitiin biyyattii guutaniiru. 12 Kanaafuu
intallan keessan ilmaan isaanitti hin heerumsiisinaa yookaan ilmaan keessan
intallan isaanii hin fuusisinaa. Akka jabaattaniif, akka waan gaarii biyya sanaa

nyaattanii biyyatti illee dhaala bara baraa gootanii ijoollee keessanitti dabarsitaniif yoom iyyuu isaan wajjin walii galtee michummaa hin barbaadinaa.'
13 "Wanni nurra ga'e kun gatii gochawwan hammina keenyaa fi yakka keenya guddaa sanaa ti; haa ta'uutii ati Waaqni keenya adaba cubbuu keenyaaf maluun gad nu adabdee hambaa akkanaa nuu kenniteerta. 14 Nu amma illee ajaja kee cabsinee saba hojiiwwan jibbisiisoo hojjetu kanaan wal haa fuunuu? Yoos ati akka malee nutti dheekkamtee hamma hambaan tokko iyyuu hin hafnetti nu hin balleessituu ree? 15 Yaa WAAQAYYO Waaqa Israa'el, ati qajeelaa dha! Nu har'a hambaa taanee jiraanneerra. Tokkoon keenya iyyuu sababii yakka keenyaaf fuula kee dura dhaabachuu dadhabnu illee nu kunoo yakkuma keenya wajjin fuula kee dura jirra."

# 10

*Uummanni Cubbuu Isaa Himate*

1 Utuma Izraan mana Waaqaa duratti lafaan of dha'ee boo'aa, cubbuu himachaa,
kadhachaa jiruu Israa'eloonni akka malee hedduun dhiironni, dubartoonnii fi
ijoolleen naannoo isaatti walitti ni qabaman. Isaanis hiqqifatanii boo'an. 2 Ergasiis
sanyii Eelaam keessaa Shekaaniyaan ilmi Yehii'eel Izraadhaan akkana jedhe; "Nu
waan saboota naannoo keenya jiraatan keessaa dubartoota ormaa fuuneef Waaqa
keenyaaf hin amanamne. Wanni kun ta'u illee amma iyyuu Israa'eliif abdiin jira.
3 Kanaafuu kottaa akkuma gorsa gooftaa koo fi kan warra ajaja Waaqa keenyaa
sodaatanitti dubartoota kanneenii fi ijoollee isaanii hunda of irraa geggeessuuf fuula
Waaqa keenyaa duratti kakuu ni galla. Kunis akkuma Seeraatti haa raawwatamu.
4 Ka'i; wanni kun suma harka jira. Nu si deeggarra; egaa jabaadhuu hojjedhu."
5 Kanaafuu Izraan ka'ee akka isaan waan jedhame sana raawwataniif luboota
hangafoota, Lewwotaa fi Israa'el hunda ni kakachiise; isaanis ni kakatan. 6 Ergasii
Izraan fuula mana Waaqaa duraa ka'ee kutaa manaa kan Yehohaanaan ilma
Eliyaashiib seene. Inni yeroo achi turetti nyaata tokko illee hin nyaanne; bishaanis
hin dhugne; sababii amanamummaa dhabiisa warra boojuudhaa deebi'aniif gaddaa
tureetii.
7 Ergasii akka warri boojuudhaa deebi'an hundi Yerusaalem keessatti walitti
qabamaniif Yihuudaa fi Yerusaalem guutuu keessatti labsiin ni labsame. 8 Namni
kam iyyuu bultii sadii keessatti yoo dhi'aachuu baate akkuma murtii qondaaltotaa fi
maanguddootaatti qabeenyi isaa hundi irraa ni fudhatama; inni mataan isaas waldaa
warra boojuudhaa deebi'ee keessaa ni ari'ama.

9 Bultii sadan sana keessatti namoonni Yihuudaa fi Beniyaam hundi Yerusaalem
keessatti walitti qabaman. Bultii digdammaffaa ji'a saglaffaatti namoonni hundi
sababii waan kanaa fi sababii rooba guddaatiif akka malee raafamanii oobdii mana
Waaqaa dura jiru irra ni tataa'an. 10 Izraan lubichi ol ka'ee akkana isaaniin jedhe;
"Isin amanamoo hin turre; dubartoota ormaa fuudhuudhaanis Israa'el irratti yakka
dabaltaniirtu. 11 Egaa amma cubbuu keessan WAAQAYYO Waaqa abbootii keessanitti
himadhaatii fedhii isaa guutaa. Saboota naannoo keessan jiraatanii fi niitota warra
ormaa keessaa fuutaniin gargar ba'aa."
12 Guutummaan waldaa sanaa akkana jedhee sagalee guddaadhaan deebise: "Ati
sirrii dha! Nu akkuma ati jette gochuu qabna. 13 Garuu nama hedduutu as jira;
yeroon kunis yeroo roobaa ti; kanaafuu nu ala dhaabachuu hin dandeenyu. Sababii
nu waan kana keessatti cubbuu guddaa hojjenneef wanni kun guyyaa tokkotti
yookaan guyyaa lamatti fala argachuu hin danda'u. 14 Qondaaltonni keenya iddoo
waldaa guutuu haa bu'an. Ergasii namni magaalaawwan keenyaa kan dubartii

ormaa fuudhe kam iyyuu hamma dheekkamsi Waaqa keenyaa sodaachisaan sababii
waan kanaatiif dhufe sun nurraa deebi’utti maanguddootaa fi abbootii murtii tokkoo
tokkoo magaalaa wajjin yeroo murteeffametti haa dhufu.”
15 Yoonaataan ilma
Asaaheelii fi Yahizeyaa ilma Tiqwaa qofatu waan kana morme; Meshulaamii fi
Shaabetaayi Lewwichi immoo isaan deeggaran.

16 Warri boojuudhaa deebi’an sunis akkasuma godhan. Izraan lubichis namoota
hangafoota maatii ta’an tokkoo tokkoo garee maatii keessaa nama tokko filatee
hunduma isaanii maqaa maqaan ramade. Isaanis bultii tokkoffaa ji’a kurnaffaatti
dhimma sana qorachuudhaaf tataa’anii
17 guyyaa tokkoffaa ji’a jalqabaatti waa’ee
namoota dubartoota ormaa fuudhan hundaa qoratanii fixan.

### *Namoota Dubartoota Ormaa Fuudhan*

18 Sanyii lubootaa keessaa namoonni dubartoonni ormaa fuudhan kanneenii dha:

Sanyii Iyyaasuu ilma Yoozaadaaqii fi obboloota isaa keessaa:

Ma’aseyaa, Elii’ezer, Yaariibii fi Gedaaliyaas.
19 Isaan hundinuu niitota isaanii hiikuudhaaf waadaa ni galan; tokkoon tokkoon isaanii balleessaa ofii isaaniitiif bushaayee keessaa korbeessa hoolaa tokko aarsaa yakkaatiif ni dhi’eessan.

20 Sanyii Imeer keessaa:

Hanaanii fi Zebaadiyaa.

21 Sanyii Haariim keessaa:

Ma’aseyaa, Eeliyaas, Shemaa’iyaa, Yehii’eelii fi Uziyaa.

22 Sanyii Phaashihuur keessaa:

Eliiyoo’eenayi, Ma’aseyaa, Ishmaa’eel, Naatnaa’el, Yoozaabaadii fi Ele’aasaa.

23 Lewwota keessaa immoo:

Yoozaabaad, Shime’ii, Qeelaayaa isa Qeliixaa jedhamu sana, Phetaayaa, Yihuudaa fi Elii’ezer.

24 Faarfattoota keessaa:

Eliyaashiib.

Warra karra eegan keessaa:

Shaluum, Telemii fi Uuri.

25 Israa’eloota kaan keessaa:

Sanyii Phaarosh keessaa:

Raamiyaa, Yeziyaa, Malkiyaa, Miyaamiin, Ele’aazaar, Malkiyaa fi Benaayaa.

26 Sanyii Eelaam keessaa:

Mataaniyaa, Zakkaariyaas, Yehii’eel, Abdii, Yireemootii fi Eeliyaas.

27 Sanyii Zaatuu keessaa:

Eliiyoo’eenayi, Eliyaashiib, Mataaniyaa, Yireemooti, Zaabaadii fi Aziizaa.

28 Sanyii Beebay keessaa:

Yehohaanaan, Hanaaniyaa, Zaabayii fi Aatilaayi.

29 Sanyii Baanii keessaa:

Meshulaam, Maluuk, Adaayaa, Yaasuub, She’aalii fi Raamoot.

30 Sanyii Fahat Mo’aab keessaa:

Adinaa, Kelaal, Benaayaa, Ma’aseyaa, Mataaniyaa, Bezali’eel, Binuuyii fi Minaasee.

31 Sanyii Haariim keessaa:

Elii’ezer, Yishiyaa, Malkiyaa, Shemaa’iyaa, Simi’oon,
32 Beniyaam, Maluukii fi Shemaariyaa.

33 Sanyii Haashum keessaa:

Matenaayi, Matataa, Zaabaadii, Eliiphelexi, Yereemaayi, Minaasee fi Shime’ii.

34 Sanyii Baanii keessaa:
Ma'adaay, Amraam, Uu'eel, 35 Benaayaa, Beediyaa, Keluuhii, 36 Waaneyaa,
Mereemooti, Eliyaashiib, 37 Mataaniyaa, Matenaayii fi Ya'asaawuu,
38 Baanii, Binuuyii,
Shime'ii, 39 Shelemiyaa, Naataan, Adaayaa, 40 Maknaadebaayi, Shaashaayi,
Shaaraayi, 41 Azari'eel, Shelemiyaa, Shemaariyaa, 42 Shaluum, Amariyaa fi
Yoosef.
43 Sanyii Neboo keessaa:
Ye'ii'eel, Matiitiyaa, Zaabaadii, Zebiinaa, Yaadaayi, Yoo'eelii fi Benaayaa.

44 Warri kunneen hundinuu dubartoota ormaa ni fuudhan; isaan keessaas tokko tokko niitota kanneen irraa ijoollee ni dhalchan.

# Kitaaba Nahimiyaa

*Kadhannaa Nahimiyaa*

1 Dubbii Nahimiyaa ilma Hakaaliyaa:

Waggaa digdammaffaatti ji'a Kaaseluu jedhamu keessa utuu ani gamoo Suusaa
keessa jiruu, 2 obboloota koo keessaa Hanaaniin namoota biraa wajjin Yihuudaadhaa
dhufe; anis waa'ee hambaa Yihuudoota boojuu jalaa ba'anii fi waa'ee Yerusaalem
isaan nan gaafadhe.
3 Isaanis akkana naan jedhan; "Warri boojuudhaa deebi'anii kutaa biyyaa kana
keessa jiraatan rakkinaa fi salphina guddaa keessa jiru. Dallaan Yerusaalem diigamee
karraawwan ishees ibiddaan gubamaniiru."
4 Anis waan kana dhageenyaan gad taa'ee boo'ee guyyoota muraasaaf nan gadde;
soomees fuula Waaqa samii durattin kadhadhe. 5 Akkanas nan jedhe:
"Yaa WAAQAYYO Waaqa samii, Waaqa guddichaa fi sodaachisaa, kan warra si
jaallatanii ajaja kee eeganiif kakuu jaalala keetii eegdu, 6 akka kadhannaa ani
garbichi kee halkanii fi guyyaa fuula kee duratti waa'ee garboota kee saba Israa'el
kadhadhu dhageessuuf gurri kee haa banamu; iji kees haa ilaalu. Ani cubbuu nu
Israa'eloonni, ani mataan koo fi manni abbaa koo sitti hojjenne nan hima. 7 Nu
akka malee hammina sitti hojjenneerra. Nu ajaja, labsii fi seera ati garbicha kee
Museetti kennite sana hin eegne.
8 "Qajeelfama garbicha kee Museetti kennite sana yaadadhu; innis akkana jedha;
'Yoo isin amanamuu baattan ani saboota keessa isin nan bittinneessa; 9 garuu
yoo isin gara kootti deebitanii ajaja koo eegdan, yoo namoonni keessan kanneen
booji'aman daarii lafaa jiraatan illee ani achii walitti isaanin qabee gara iddoo ani
akka Maqaan koo achi jiraatuuf filadhe sanaatti isaan nan fida.'
10 "Isaan garboota kee fi saba kee warra ati humna kee guddaa fi harka kee
jabaa sanaan furtee dha. 11 Yaa Gooftaa, gurri kee kadhannaa garbicha kee kanaa
fi kadhannaa garboota kee warra maqaa kee sodaachuutti gammadanii sirriitti haa
dhaga'u. Fuula namicha kanaa duratti surraa isaaf kennuudhaan har'a garbicha
kee milkeessi."
Ani nama mootichaaf daadhii buusun ture.

# 2

*Nahimiyaan Gara Yerusaalemitti Ergame*

1 Waggaa digdammaffaa bara Arxeksis Mootichaatti ji'a Niisaan keessa yeroo
daadhiin wayinii isaaf dhi'eeffametti ani daadhii wayinii sana fuudhee mootichaaf
nan kenne. Ani fuula isaa duratti gaddee hin beeku; 2 kanaafuu mootichi, "Ati utuu
hin dhukkubsatin fuulli kee maaliif waan gadde fakkaata? Kun gadda garaa keessaati
malee waan biraa miti" naan jedhe.
Anis akka maleen sodaadhe; 3 mootichaanis, "Yaa mootii bara baraan jiraadhu!
Utuu magaalaan abbootiin koo keessatti awwaalaman barbadooftee jirtuu, utuu
karrawwan ishees ibiddaan barbadeeffamanii jiranuu fuulli koo maaliif hin gaddu?"
nan jedhe.
4 Mootichis, "Akka ani maal siif godhu barbaadda?" naan jedhe.

Kanaafuu ani Waaqa samii kadhadheen 5 akkana jedhee mootichaaf nan deebise;
“Yoo wanni kun mooticha gammachiisee garbichi kee fuula kee duratti surraa argate,
akka ani magaalattii deebisee ijaaruuf gara Yihuudaa, gara magaalaa abbootiin koo
itti awwaalamanitti na ergi.”

6 Kana irratti mootichi utuma mootittiin isa bira teessuu, “Karaan kee yeroo
hammamii fudhata? Atis yoomi deebita?” jedhee na gaafate. Na erguun fedhii
mootichaa ta’e; anis yeroo nan murteeffadhe.

7 Ammas ani akkanan isaan jedhe; “Yoo wanni kun mooticha gammachiise, akka
isaan hamma ani Yihuudaa ga’utti nagaadhaan na dabarsaniif bulchitoota Laga
Efraaxiis Gamaatiif xalayaan anaaf haa kennamu. 8 Akkasumas akka inni laaxaa ani
ittiin dareeraa karra da’annoo mana qulqullummaa, dallaa magaalaa sanaa fi kan
mana ani itti galuuf jiruu tolfadhu naaf kennuuf Aasaaf eegduu bosona mootichaaf
xalayaan naaf haa barreeffamu.” Sababii harki Waaqa koo tolaan sun narra tureef
mootichi waan ani kadhadhe naa kenne. 9 Kanaafuu ani gara bulchitoota Gama
Laga Efraaxiis dhaqee xalayoota mootichaa isaanitti nan kenne. Mootichi ajajjoota
waraanaa fi abbootii fardeenii na wajjin ergee ture.

10 Sanbalaax Hooroonichii fi Xoobbiyaan qondaaltichi Amoon sun yeroo waan kana
dhaga’anitti sababii namni Israa’eliif waan tolaa yaadu tokko dhufeef akka malee ni
raafaman.

### *Nahimiyaan Dallaa Yerusaalem Irra Naanna’ee Ilaale*

11 Ani ergan Yerusaalem dhaqee bultii sadii achi bubbulee booddee 12 halkaniin
ka’ee namoota muraasa wajjin nan ba’e. Ani waan Waaqni koo akka ani
Yerusaalemiif godhu garaa koo keessa kaa’e nama tokkotti iyyuu hin himne. Horii
tokkicha ani yaabbadhe sana malee horiin tokko illee na bira hin turre.

13 Ani halkaniin Karra Sululaatiin gad ba’ee gara Boolla Bishaan Jawweetii fi
gara Karra Dikee dhaqee dallaa Yerusaalem kan diigamee fi karrawwan ishee
kanneen ibiddaan barbadeeffaman sana irra naanna’een ilaale. 14 Ergasiis ani
ittuma fufee gara Karra Burqaa fi gara Haroo mootichaa nan dhaqe; garuu karaan
horii ani yaabbadhe dabarsu tokko illee hin turre; 15 kanaafuu ani halkaniin karaa
sululaatiin ol ba’ee dallaa sana nan ilaale. Dhuma irrattis dugda duubatti deebi’ee
Karra Sululaatiin ol nan seene. 16 Sababii ani hamma gaafasitti Yihuudootatti
yookaan lubootatti yookaan namoota bebeekamootti yookaan qondaaltotatti yookaan
namoota hojii sana hojjechuuf jiran biraa kamitti iyyuu homaa hin himiniif
qondaaltonni sun gara ani dhaqe yookaan waan ani hojjechaa ture hin beekne.

17 Anis akkana isaaniin nan jedhe; “Isin rakkoo nu keessa jirru ni argitu;
Yerusaalem diigamteerti; karrawwan ishees ibiddaan gubamaniiru. Kottaa nu akka
si’achi nama kolfaa hin taaneef dallaa Yerusaalem deebifnee ni ijaarraa.” 18 Ani
waa’ee harka Waaqa koo kan narra jiru tolaa sanaa fi waan mootichi naan jedhe
illee isaanitti nan hime.

Isaanis, “Kottaa kaanee deebisnee haa ijaarru” jedhanii deebisan. Kanaafuu isaan
hojii gaarii kana jalqaban.

19 Garuu Sanbalaaxi Hooroonichi, Xoobbiyaan qondaaltichi Amoonii fi Gesheem
namni Arabaa sun waan kana dhageenyaan nutti qoosanii nutti kolfan. Isaanis,
“Wanni isin hojjettan kun maali? Isin mootichatti fincilaa jirtu moo?” jedhanii
gaafatan.

20 Ani immoo akkana jedheen deebii kenneef; “Waaqni samii fiixaan nuuf baasa.
Nu garboonni isaa immoo kaanee ni ijaarra; isin garuu Yerusaalem keessaa qooda
yookaan mirga yookaan yaadannoo tokko illee hin qabdan.”

# 3

*Ijaartota Dallaa*

[1] Eliyaashiib lubichi ol aanaanii fi luboonni akka isaa ka'anii Karra Hoolotaa
ijaaran. Isaan karra sana qulqulleessanii cufaawwan isaa iddootti deebisan; dallaa
sanas hamma Gamoo Dhibbaa kan isaan qulqulleessan sanaattii fi hamma Gamoo
Hanaani'eelitti ijaaran. [2] Namoonni Yerikoo kutaa itti aanu ijaaran; Zakuur ilmi Imrii
immoo isaanitti aansee ijaare.

[3] Ilmaan Hasenaa'aa Karra Qurxummii deebisanii ijaaran. Isaan demdemoo
kaa'anii cufaawwan, loosaa fi danqaraawwan isaa iddootti deebisan. [4] Mereemooti
ilmi Uuriyaa, ilmi Haqoosi kutaa itti aanu haaromse. Isatti aanee Meshulaam
ilma Berekiyaa ilma Meseezebeelitu haaromse; isaanitti aanee immoo Zaadoq ilma
Ba'anaatu haaromse. [5] Kutaa itti aanu namoota Teqoo'aatu haaromse; namoonni
isaanii bebeekamoon garuu hojii Gooftaa isaaniitiif boquu gad hin qabanne.

[6] Yooyaadaan ilmi Faasehaatii fi Meshulaam ilmi Besoodeyaa Karra Moofaa
haaromsan. Isaanis demdemoo kaa'anii cufaawwan, loosaa fi danqaraawwan isaa
iddootti deebisan. [7] Isaanitti aansee immoo Melaaxiyaan namichi Gibe'oon, Yaadoon
namichi Meeroonot akkasumas namoonni Gibe'ooniitii fi Miisphaa kutaawwan
bulchiinsa bulchaa Gama Laga Efraaxiis jala jiran sana haaromsan. [8] Tumtuu warqee
keessaa Uzii'eel ilmi Harhayaa kutaa itti aanu haaromse. Warra Shittoo hojjetan
keessaa Hanaaniyaan kutaa kutaa sanatti aanu haaromse. Isaanis hamma Dallaa
Bal'aatti Yerusaalemin akka duriitti deebisanii ijaaran. [9] Refaayaan ilmi Huuri,
bulchaan gartokkee aanaa Yerusaalem kutaa itti aanu haaromse. [10] Isaanitti aansee
Yedaayaa ilmi Haruumaaf kutaa fuullee mana ofii isaa haaromse; Haxuush ilmi
Hashabniyaa isatti aansee haaromse. [11] Malkiyaan ilmi Haariimiitii fi Hashuub ilmi
Fahat Mo'aab kutaa biraatii fi Gamoo Badaa Ibiddaa haaromsan. [12] Shaluum ilmi
Haloheesh bulchaan gartokkee aanaa Yerusaalemiitii fi intallan isaa kutaa itti aanu
haaromsan.

[13] Haanuunii fi jiraattonni Zaano'aa Karra Sululaa haaromsan. Isaanis karra sana
deebisanii ijaaranii cufaawwan, loosaa fi danqaraawwan isaa iddootti deebisan.
Akkasumas hamma Karra Dikeetti dallaa dhundhuma kuma tokko lafa irra dheeratu
haaromsan.

[14] Malkiyaan ilmi Rekaab bulchaan aanaa Beet Hakerem Karra Dikee haaromse.
Innis karra sana deebisee ijaaree cufaawwan, loosaa fi danqaraawwan isaa iddootti
deebise.

[15] Shelaa ilmi Kol-Hoozee bulchaan aanaa Miisphaa sun Karra Burqaa haaromse.
Innis karra sana haaromsee gubbaa isaa haguugee cufaawwan isaa, loosaa fi
danqaraawwan isaa iddootti deebise. Dallaa Haroo Sheelaanii kan Iddoo Biqil-
tuu Mootichaa biraa sanas hamma waltajjii Magaalaa Daawit irraa gad bu'uutti
haaromse. [16] Isa duubaan Nahimiyaan ilmi Azbuuq bulchaan gartokkee aanaa Beet
Zuuri sun hamma iddoo fuullee awwaala Daawititti, hamma haroo kuufamee fi
hamma Mana Gootototaatti haaromse.
[17] Isatti aanee Lewwonni Rehuum ilma Baaniitiin qajeelfaman ni haaromsan.
Isatti aansee immoo Hashabiyaan bulchaan gartokkee aanaa Qeyiilaa sun aanaa ofii
isaatiif haaromse. [18] Isatti aansee namoonni biyya isaanii qajeelcha Bawaayi ilma
Heenaadaad bulchaa gartokkee aanaa Qeyiilaa jala turan ni haaromsan. [19] Isatti
aansee Eezer ilmi Yeeshu'aa bulchaan Miisphaa iddoo karaa mankuusa mi'a lolaatti

geessu fuul duraa sana hamma roga isaatti kutaa biraa haaromse. 20 Isatti aansees
Baaruk ilmi Zabaay roga sanaa jalqabee hamma balbala mana Eliyaashiib lubicha
ol aanaatti kutaa biraa hinaaffaadhaan haaromse. 21 Isatti aansee Mereemooti ilmi
Uuriyaa, ilmi Haqoosi balbala mana Eliyaashiibiitii jalqabee hamma dhuma isaatti
kutaa biraa haaromse.

22 Isatti aansee immoo luboota naannoo sana jiranittu haaromse. 23 Isaaniin achittis
Beniyaamii fi Hashuubittu fuula mana isaanii dura haaromse; isaanitti aansee immoo
Azaariyaa ilma Ma'aseyaa ilma Anaaniyaatu mana isaa bira haaromse. 24 Isatti
aansee Binuuyiin ilmi Heenaadaad mana Azaariyaatii jalqabee hamma rogaa fi
golee isaatti kutaa biraa haaromse; 25 Phaalaal ilmi Uuzaay immoo golee sanaa fi
gamoo masaraa mootummaa kan ol aanu gubbaatti ijaarame fuullee oobdii eegdotaa
bira haaromse. Isatti aansees Phedaayaan ilmi Phaaroshii fi 26 tajaajiltoonni mana
qulqullummaa kanneen tulluu Oofeel irra jiraatan hamma iddoo Karra Bishaanii kan
gama ba'aatii fi gamoo ol ka'aa sana duraatti haaromsan. 27 Isaanitti aansanii immoo
namoonni Teqoo'aa gamoo ol ka'aa guddichaa jalqabanii hamma dallaa Oofeelitti
kutaa biraa haaromsan.

28 Karra Fardaatiin olitti tokkoon tokkoon lubootaa fuula mana ofii isaanii dura
haaromsan. 29 Isaanitti aansee Zaadoq ilmi Imeer fuullee mana isaa haaromse. Isatti
aansee Shemaa'iyaan ilmi Shekaaniyaa eegduun Karra gama Ba'aa sun akkasuma ni
haaromse. 30 Isatti aansaniis Hanaaniyaan ilmi Shelemiyaatii fi Haanuun ilmi Zaalaaf
ja'affaan sun kutaa biraa haaromsan. Isaanitti aansee immoo Meshulaam ilmi
Berekiyaa fuullee mana ofii isaa keessa jiraatuu haaromse. 31 Isatti aansee immoo
tumtuu warqee keessaa Malkiyaan hamma mana tajaajiltoota mana qulqullummaatii
fi daldaltootaa kan fuullee Karra To'annaatti, hamma kutaa manaa kan golee irraattis
haaromse; 32 tumtuun warqeetii fi daldaltoonni immoo kutaa manaa kan golee irraa
sanaa fi Karra Hoolotaa gidduu jiru haaromsan.

# 4

*Deebisanii Ijaaruu Irratti Mormiin Ka'uu Isaa*

1 Sanbalaaxi akka nu dallaa kana deebifnee ijaaraa jirru dhageenyaan aariin
gubatee dheekkame. Innis Yihuudootatti qoosee 2 fuula obboloota isaa fi fuula
loltoota Samaariyaa duratti akkana jedhe; "Yihuudoonni dadhaboonni kunneen maal
hojjechaa jiru? Isaan dallaa isaanii deebisanii ijaaruu? Aarsaa illee ni dhi'eessuu?
Guyyaa tokko keessatti ni fixuu? Isaan waan akkas gubamee tuulame keessaa dhagaa
fuudhanii akka duriitti deebisuu danda'uu?"

3 Xoobbiyaan namichi Amoon kan isa bira dhaabate sunis, "Waan isaan ijaaraa
jiran kana, dallaa isaanii kan dhagaa kana waangoon iyyuu yoo yaabde ni jigsiti!"
jedhe.

4 Yaa Waaqa keenya nu dhaga'i; nu tuffatamneerraatii. Arraba isaan nu arrabsan
matuma isaaniitti deebisi. Boojuudhaaf dabarsii biyya ormaatti isaan kenni.
5 Sababii isaan fuula ijaartotaa duratti dheekkamsaaf si kakaasaniif yakka isaanii
hin dhoksiniif yookaan cubbuu isaanii fuula kee duraa hin haqiniif.

6 Nu akkasiin dallaa sana hamma inni walakkaa dheerina isaa ga'utti deebifnee
ijaarre; namoonni garaa tokkoon hojjechaa turaniitii.

7 Garuu Sanbalaaxi, Xoobbiyaan, Araboonni, Amoononnii fi namoonni Ashdood
yommuu akka haaromfamuun dallaa Yerusaalem ittuma fufaa jiruu fi akka qaawwi
isaa duuchamaa jiru dhaga'anitti akka malee aaran. 8 Isaan hundinuu dhufanii
Yerusaalemin loluu fi rakkina itti fiduudhaaf tokkummaadhaan malatan. 9 Nu garuu

Waaqa keenya kadhannee doorsisa kana of irraa ittisuuf jennee waardiyyaa halkanii
fi guyyaa eegu tokko kaa'anne.
10 Sabni Yihuudaas, "Humni hojjettootaa laafeera; sababii diigamni isaa akka malee
guddaa ta'eef nu dallaa kana deebifnee ijaaruu hin dandeenyu" jedhe.
11 Diinonni keenyas, "Utuu isaan hin beekin yookaan nu hin argin isaan gidduu
seennee isaan fixnee hojii sana dhaabbachiifna" jedhan.
12 Yihuudoonni isaanitti dhi'oo jiraatan dhufanii, "Yoo isin eessa illee dhaqxan
isaan inuma nu lolu" jedhanii yeroo kudhan nutti himan.
13 Kanaafuu ani namoota sana keessaa tokko tokko dachaa dallaa duubaan jiru
keessa, iddoo ol ka'aa irratti ramadee akka isaan goraadee, eeboo fi iddaa qabatanii
dhaabatan nan godhe. 14 Anis ergan asii fi achi ilaalee booddee ol ka'ee namoota
bebeekamoodhaan, qondaaltotaa fi uummata kaaniin akkana nan jedhe; "Isin jara
hin sodaatinaa. Gooftaa guddichaa fi sodaachisaa sana yaadadhaatii obboloota
keessaniif, ilmaan keessaniif, intallan keessaniif, niitota keessanii fi manneen
keessaniif lolaa."
15 Yeroo diinonni keenya akka nu mala isaaniitti dammaqne, akka Waaqnis mala
isaanii sana jalaa diige dhaga'anitti nu hundi gara dallaatti, tokkoon tokkoon keenyas
hojii keenyatti deebine.
16 Gaafasii jalqabee namoota koo keessaa walakkaan isaanii hojii hojjetanii
walakkaan kaan immoo eeboo, gaachana, iddaa fi mi'a lolaa hidhatan. Ajajjoonnis
saba Yihuudaa hunda duubaan dhaabachaa turan; 17 warri dallaa ijaaranii fi ba'aa
baatanis harka tokkoon ni hojjetu, harka tokkoon immoo mi'a lolaa qabatu turan;
18 tokkoon tokkoon ijaartota sanaa goraadee ofii isaanii mudhiitti hidhatanii hojii
hojjetan. Namichi malakata afuufu garuu na wajjin ture.
19 Anis namoota bebeekamoodhaan, qondaaltotaa fi uummata kaaniin akkana nan
jedhe; "Hojiin kun guddaa fi bal'aa dha; tokkoon tokkoon keenyas gargar fagaannee
dallaa irra jirra. 20 Iddoo itti sagalee malakataa dhageessan kamitti iyyuu nutti
makamaa. Waaqni keenya nuuf lolaa!"
21 Kanaafuu nu barii barraaqaa jalqabnee hamma urjiiwwan ba'anitti akkuma
namoota keenya keessaa gariin eeboo qabatanii jiranitti hojii itti fufne. 22 Anis yeroo
sanatti namootaan akkanan jedhe; "Akka isaan halkan akka eegdotaatti, guyyaa
immoo akka hojjettootaatti nu tajaajiluu danda'aniif nama kam iyyuu gargaaraa isaa
wajjin halkan Yerusaalem keessa tursaa." 23 Anis, obboloonni koos, namoonni koos,
eegdonni na wajjin turanis uffata keenya hin baafanne; tokkoon tokkoon namaa
yeroo bishaan barbaacha deemu illee mi'a isaa kan waraanaa harkatti qabata ture.

# 5

*Nahimiyaan Hiyyeeyyii Gargaare*

1 Yeroo kanatti namoonnii fi niitonni isaanii obboloota isaanii Yihuudootatti
guddisanii iyyan. 2 Isaan keessaa namoonni tokko tokko, "Nu, ilmaan keenyaa
fi intallan keenya baay'ee hedduu dha; nu akka nyaannee jiraannuuf midhaan
argachuu qabna" jechaa turan.
3 Warri kaan immoo, "Nu yeroo beelaatti midhaan argachuudhaaf jennee lafa
qotiisaa keenya, iddoo dhaabaa wayinii keenyaa fi manneen keenya qabsiisaa jirra"
jechaa turan.
4 Ammas namoonni biraa akkana jedhan; "Nu lafa qotiisaa keenyaa fi iddoo
dhaabaa wayinii keenyaatiif gibira mootichaa baasuudhaaf maallaqa liqeeffachuu
qabna turre. 5 Nu namoota biyya keenyaatiin foonii fi dhiiga tokko taanee ilmaan
keenyas akkuma ilmaan isaanii gaarii ta'an illee, nu ilmaan keenyaa fi intallan keenya
dabarsinee garbummaaf kennineerra. Intallan keenya keessaa tokko tokko amma

iyyuu garboomfamanii jiru; garuu lafti qotiisaa keenyaa fi iddoon dhaabaa wayinii
keenyaa kan namoota biraa waan ta'aniif nu humna hin qabnu."
6 Anis yommuun iyya isaaniitii fi dubbii kana dhaga'etti baay'ee nan aare. 7 Anis
ofiin mari'adhee namoota bebeekamoo fi qondaaltota sana nan ifadhe; akkanas
nan jedheen; "Isin hiiqiidhaan liqeessuudhaan namootuma biyya keessanii saamaa
jirtu!" Kanaafuu ani yaa'ii guddaa isaanitti waameen 8 akkana isaaniin jedhe; "Nu
hamma nuu danda'ametti obboloota keenya Yihuudoota saba ormaatti gurguramanii
turan sana deebifnee bitanneerra. Isin amma illee akka isaan deebifamanii nutti
gurguramaniif jettanii obboloota keessaan gurguraa jirtu!" Isaan immoo waan
jedhan dhabanii cal'isan.
9 Kanaafuu ani ittuma fufeen akkana jedheen; "Wanni isin hojjechuutti jirtan kun
sirrii miti. Isin tuffii diinota keenya Namoota Ormaa jalaa ba'uuf, Waaqa keenya
sodaachuudhaan jiraachuu hin qabdanii? 10 Ani, obboloota koo fi namoonni koos
maallaqaa fi midhaan saba kanaaf liqeessaa jirra. Garuu hiiqiidhaan liqeessuudhaan
nama saamuu dhiisaa! 11 Amma dafaatii lafa qotiisaa isaanii, iddoo dhaabaa
wayinii isaanii, mukkeen ejersaatii fi manneen isaanii akkasumas waan hiiqiidhaan
liqeessitanii dhibbantaan saamtan kanneen akka maallaqaa, midhaanii, daadhii
wayinii haaraatii fi zayitii sana deebisaafii."
12 Isaanis, "Nu waan sana deebifnee ni kennina; deebinee waan tokko illee isaan
irraa hin barbaannu. Akkuma ati jette goona" jedhan.
Kana irratti ani luboota ofitti waamee akka namoonni bebeekamoonii fi qondaal-
tonni waan waadaa galan sana raawwatan nan kakachiise. 13 Ammas ani dachaa
uffata koo hurgufeen akkana jedhe; "Waaqayyo nama waadaa kana hin eegne kamiin
iyyuu mana isaatii fi qabeenya isaa irraa akkana haa hurgufu. Namni akkanaa kun
akkasuma hurgufamee harka duwwaa haa hafu!"
Kana irratti waldaan hundi, "Ameen" jedhee Waaqayyoon galateeffate. Uumman-
nis akkuma waadaa gale sana godhe.
14 Kana caalaas yeroo ani bara Arxeksis mootichaa keessa waggaa digdammaffaatti
bulchaa biyya Yihuudaa ta'ee muudamee jalqabee hamma waggaa soddomii lam-
maffaa mootummaa isaatti jechuunis waggaa kudha lamaaf, anis obboloonni koos
nyaata bulchaaf ramadame hin nyaanne. 15 Garuu bulchitoonni durii kanneen anaan
dura turan ba'aa guddaa saba baachisanii nyaataa fi daadhii wayinii malee iyyuu
meetii saqilii afurtama isaan irraa fudhachaa turan. Gargaartonni isaaniis akkasuma
saba cunqursan. Ani garuu waanan Waaqa sodaadhuuf akkas hin goone. 16 Qooda
kanaa ani hojii dallaa ijaaruu kanaaf of nan kenne. Namoonni koo hundinuu achitti
hojiidhaaf walitti qabaman; nu lafa tokko illee hin arganne.
17 Amma illee namoota saba naannoo keenya jiraatan keessaa dhufan malee
Yihuudoonni dhibba tokkoo shantamnii fi qondaaltonni maaddii koo irraa nyaachaa
turan. 18 Guyyaa guyyaadhaan sangaan tokko, hoolonni gagabbatoon ja'aa fi
indaanqoowwan muraasni, guyyaa kudhan kudhaniin immoo daadhiin wayinii kan
gosa hundaa baay'inaan naa qopheeffama ture. Kana hunda malees ani takkumaa
nyaata bulchaaf ramadamuu qabu hin gaafanne; gaaffiin kun saboota kanneenitti
ba'aa guddaa tureetii.
19 Yaa Waaqa koo waan ani saba kanaaf godhe hunda tolaatti naa lakkaa'i.

# 6

*Mormiin Ijaarsaa Ittuma Fufe*

1 Ani hamma yeroo sanaatti cuftuu balbalaa itti galchuu baadhu illee Sanbalaax,
Xoobbiyaan, Gesheem namicha Arabaa sanaa fi diinonni keenya biraan akka ani
dallaa sana deebisee ijaaree iddoon hin ijaaramin tokko iyyuu hin hafin dhageenyaan

2 Sanbalaaxii fi Gesheem, “Kottu mee gandoota dirree Oonoo irra jiran keessaa isa
tokko keessatti wal arginaa” jedhanii ergaa kana natti ergan.

Isaan garuu na miidhuuf malachaa turan; 3 kanaafuu ani akkana jedhee ergamoota
isaanittin erge; “Ani waan hojii guddaa hojjechaa jiruuf gad bu’uu hin danda’u.
Yeroo ani hojii dhiisee gara keessanitti gad bu’uutti hojiin maaliif dhaabata?” 4 Isaan
ergaadhuma tokko si’a afur natti ergan; anis si’a afranuu deebiidhuma tokkon
kenneef.
5 Sanbalaaxis ergaadhuma sana garbicha isaa tokkoon yeroo shanaffaa natti erge;
garbichi sunis xalayaa hin cufamin tokko harkaa qaba ture. 6 Xalayichis akkana
jedha:

“Akka atii fi Yihuudoonni finciluu barbaaddan uummata keessatti odeeffameera;
Gesheemis kanuma mirkaneessa. Wanni isin dallaa ijaartaniifis kanuma; akka
oduu kanaatti ati mootii isaanii ta’uu barbaadda; 7 ati akka isaan, ‘Yihuudaa keessa
mootii tokkotu jira!’ jedhanii waa’ee kee Yerusaalem keessatti labsaniif raajota
muudatteerta. Oduun kun gara mootichaatti ni deebi’a; kanaafuu kottu wajjin ni
mari’annaa.”

8 Kana irratti ani, “Wanni akka waan ati dubbattu kanaa tokko illee hin hojjetamne;
ati matuma kee keessaa fuutee dubbattaa” jedheen deebiseef.

9 Isaan hundi, “Harki jara kanaa hojii hojjechuu ni dadhaba; hojiin kunis hin
dhumu” jedhanii yaaduudhaan nu sodaachisuu yaalaa turan.

Ani garuu, “Amma harka koo naa jajjabeessi” jedheen Waaqa kadhadhe.

10 Anis gaaf tokko mana Shemaa’iyaa ilma Delaayaa, ilma Maheexabi’eel kan
manuma ofii isaa keessatti itti cufame sanaa nan dhaqe. Innis akkana jedhe;
“Sababii namoonni si ajjeesuuf dhufaa jiraniif, sababii isaan si ajjeesuuf halkaniin
dhufaa jiraniif kottu mana Waaqaatti, mana qulqullummaa keessatti wal arginee
balbalawwan mana qulqullummaa haa cufannu.”

11 Ani immoo, “Namni akka kootii kun baqachuu qabaa? Yookaan namni na
fakkaatu tokko lubbuu ofii isaa oolfachuudhaaf jedhee mana qulqullummaa seenuu
qabaa? Ani hin deemu!” jedheen. 12 Ani akka Waaqni isa natti hin ergin
beekkadheera; inni garuu sababii Xoobbiyaa fi Sanbalaaxi isa bitataniif waa’ee koo
waan hamaa raaje. 13 Inni na sodaachisee akka ani waan kana hojjechuudhaan
cubbuu hojjedhuuf, akka isaanis akkasiin maqaa hamaa naa kennanii maqaa na
balleessaniif bitame.

14 Yaa Waaqa ko, sababii waan isaan hojjetan sanaaf jedhiitii Xoobbiyaa fi
Sanbalaaxin yaadadhu; raajjuu Noo’adiyaa jedhamtuu fi raajota na sodaachisuu
yaalan kaanis yaadadhu. 15 Akkasiinis dallaan sun bultii shantamii lamatti, ji’a
Eeluuli jedhamu keessa bultii digdamii shanaffaatti ijaaramee dhume.

### *Ijaarsi Dallaa Xumuramuu Isaa*

16 Yommuu diinonni keenya hundi oduu kana dhaga’anitti, saboonni naannoo
keenyaa hundi sodaatanii abdii kutatan; isaan akka hojiin kun gargaarsa Waaqa
keenyaan hojjetame hubataniiruutii.

17 Bara sana keessa namoonni Yihuudaa bebeekamoon xalayoota hedduu gara
Xoobbiyaatti ergaa turan; Xoobbiyaanis deebii isaaniif ni erga ture. 18 Sababii inni
soddaa Shekaaniyaa ilma Aaraa tureef namoonni Yihuudaa keessa jiraatan hedduun
isaaf kakatan; akkasumas ilmi isaa Yehohaanaan intala Meshulaam ilma Berekiyaa
fuudhee ture. 19 Kana malees isaan hojii isaa gaarii natti odeessaa, waan ani jedhe
illee isatti himaa turan. Xoobbiyaan immoo na sodaachisuuf jedhee xalayoota natti
ergaa ture.

# 7

1 Erga dallaan sun ijaaramee anis cufaawwan iddootti deebisee booddee karra
eegdonni, faarfattoonnii fi Lewwonni ni ramadaman. 2 Anis Yerusaalem irratti
Anaanii obboleessa koo fi Hanaaniyaa ajajaa masaraa mootummaa sana nan muude;
Hanaaniyaan kun nama hunda caalaa amanamaa fi kan Waaqa sodaatu tureetii.
3 Ani akkanan isaaniinan jedhe; "Karrawwan Yerusaalem hamma aduun ho'itutti
banamuu hin qaban. Yeroo karra eegdonni hojii irra jiranittis cufaawwan cufamanii
danqaraan keessa haa loofamu. Akkasumas jiraattota Yerusaalem keessaa eegdota
tokko tokko iddoo isaaniitti, kaan immoo mana isaanii biratti ramadaa."

### *Maqaa Warra Boojuudhaa Deebi'anii*
### *7:6-73 kwf – Izr 2:1-70*

4 Magaalattiin guddoo fi bal'oo turte; garuu saba muraasatu ishee keessa jiraata
ture. Manneenis amma iyyuu deebifamanii hin ijaaramne. 5 Waaqni koos akka isaan
maatii maatiidhaan galmeeffamaniif akka ani namoota bebeekamoo, qondaaltotaa fi
uummata walitti qabuuf garaa koo keessa kaa'e. Anis galmee hidda dhalootaa kan
warra jalqabatti deebi'anii nan argadhe. Wanni barreeffamee ani achitti argadhe
kanaa dha:

> 6 Isaan kunneen namoota kutaa biyya sanaa warra boojuu Nebukadnezar
> mootichi Baabilon sun booji'ee isaan geessee ture sanaa deebi'anii dha;
> isaanis Yerusaalemii fi Yihuudaatti deebi'anii tokkoon tokkoon isaanii
> magaalaa ofii isaaniitti galan; 7 isaanis Zarubaabel, Iyyaasuu, Nahimiyaa,
> Azaariyaa, Ra'aamiyaa, Nahamaan, Mordekaayi, Bilshaan, Misiphereti,
> Baguwaayi, Nehuumii fi Ba'anaa wajjin dhufan.

Maqaa namoota saba Israa'el ta'anii:

8 Sanyiin Phaarosh 2,172
9 sanyiin Shefaaxiyaa 372
10 sanyiin Aaraa 652
11 sanyiin Fahat Mo'aab warri karaa Yeeshu'aa fi Yoo'aab dhalatan 2,818
12 sanyiin Eelaam 1,254
13 sanyiin Zaatuu 845
14 sanyiin Zabaay 760
15 sanyiin Binuuyii 648
16 sanyiin Beebay 628
17 sanyiin Azgaad 2,322
18 sanyiin Adooniiqaam 667
19 sanyiin Baguwaay 2,067
20 sanyiin Aadiin 655
21 sanyiin Ateer warri karaa Hisqiyaas 98
22 sanyiin Haashum 328
23 sanyiin Beesaay 324
24 sanyiin Haariif 112
25 sanyiin Gibe'oon 95
26 namoonni Beetlihemii fi namoonni Netoofaa 188
27 namoonni Anaatoot 128
28 namoonni Beet Azmaawet 42
29 namoonni Kiriyaati Ye'aariim, kan Kefiiraatii fi Bi'eeroot 743
30 namoonni Raamaa fi Gebaa 621
31 namoonni Mikmaas 122
32 namoonni Beet'eelii fi Aayi 123

33 namoonni Neboo kaan 52
34 namoonni Eelaam kaan 1,254
35 namoonni Haariim 320
36 namoonni Yerikoo 345
37 namoonni Lood, kan Haadiidii fi Oonoom 721
38 namoonni Senaa'aa 3,930.

39 Luboota:
Sanyiin Yedaa'iyaa warri karaa maatii Yeeshuu'aa dhufan 973
40 sanyiin Imeer 1,052
41 sanyiin Phaashihuur 1,247
42 sanyiin Haariim 1,017.

43 Lewwota:
Sanyiin Yeeshuu'aa warri karaa Qadmii'eel, karaa Hoodayiwaa dhufan 74.

44 Faarfattoota:
Sanyiin Asaaf 148.

45 Eegdota karra mana qulqullummaa:
Sanyiin Shaluum, sanyiin Ateer,
sanyiin Talmoon, sanyiin Aquub, sanyiin Haxiixaa fi sanyiin Soobaay 138.

46 Tajaajiltoota mana qulqullummaa:
Sanyii Ziihaa, sanyii Hasuufaa, sanyii Xabaa'oot,
47 sanyii Keeroos, sanyii Sii'aa, sanyii Faadon,
48 sanyii Lebaanaa, sanyii Hagaabaa, sanyii Shalmaayi,
49 sanyii Haanaan, sanyii Gideel, sanyii Gahar,
50 sanyii Re'aayaa, sanyii Reziin, sanyii Neqoodaa,
51 sanyii Gazaam, sanyii Uzaa, sanyii Faasehaa,
52 sanyii Beesaay, sanyii Me'uuniim, sanyii Nefuushesiim,
53 sanyii Baqbuuq, sanyii Haquufaa, sanyii Harhuur,
54 sanyii Bazliit, sanyii Mihiidaa, sanyii Harshaa,
55 sanyii Barqoos, sanyii Siisaaraa, sanyii Teemahi,
56 sanyii Neziiyaa fi sanyii Haxiifaa.
57 Sanyii Tajaajiltoota Solomoon:
Sanyii Soxaayi, sanyii Sofereeti, sanyii Feriidaa,
58 sanyii Ya'ilaa, sanyii Darqoon, sanyii Gideel,
59 sanyii Shefaaxiyaa, sanyii Haxiil,
sanyii Fookeret-Hazbaayimii fi sanyii Aamoon.
60 Tajaajiltoota mana qulqullummaatii fi sanyiin tajaajiltoota Solomoon 392.

61 Warri armaan gadiis magaalaawwan Teel Melaa, Teel Hareshaa, Kiruub, Adoonii fi Imeeriitii dhufan; isaan garuu akka maatiin isaanii sanyii Israa'el ta'an mirkaneessuu hin dandeenye; isaanis:
62 Sanyiin
Delaayaa, sanyiin Xoobbiyaa fi sanyiin Neqoodaa 642.

63 Luboota keessaa immoo:
Sanyii Habayaa,

sanyii Haqoosii fi kan Barzilaay; Barzilaayiin kun sababii intala Barzilaay namicha Gili'aad sanaa fuudheef maqaa kanaan waamame.
64 Isaan kunneen sababii galmee hidda dhalootaa keessaa maqaa maatii isaanii barbaadanii dhabaniif akka xuraa'otaatti ilaalamanii tajaajila lubummaa dhowwaman. 65 Bulchaan biyyattiis hamma lubni Uriimii fi Tumiimiidhaan tajaajilu tokko ka'utti akka isaan nyaata nyaata hunda caalaa qulqulluu ta'e kam iyyuu hin nyaanneef isaan ajaje.

66 Warri boojuudhaa deebi'an walumaa galatti namoota 42,360 turan; 67 kana
malees tajaajiltoonni isaanii dhiiraa fi dubartiin 7,337 turan; akkasumas
isaan faarfattoota dhiiraa fi dubartii 245 qabu ture. 68 Isaan farda 736,
gaangolii 245, 69 gaala 435 fi harree 6,720 qaban ture.

70 Hangafoonni maatiiwwanii tokko tokko hojii sanaaf buusii buusan. Bulchaan
biyyaa immoo warqee daariikii[*] 1,000, waciitii 50 fi uffata lubootaa 530 manku-
usaatti galii godhe. 71 Abbootiin maatiiwwanii tokko tokko immoo hojii sanaaf
warqee daariikii 20,000 fi meetii minnaanii[†] 2,200 mankuusatti galii godhan.
72 Uummanni kaan immoo walumaa galatti warqee daariikii 20,000, meetii
minnaanii 2,000 fi uffata lubootaa 67 kennan.
73 Luboonni, Lewwonni, eegdonni karraa, faarfattoonnii fi tajaajiltoonni mana qulqullummaa namoota tokko tokkoo fi Israa'eloota kaan wajjin magaalaawwan ofii isaanii keessa qubatan.

# 8

*Izraan Seera Dubbise*

1 Yeroo ji'i torbaffaan ga'ee Israa'eloonni magaalaawwan ofii isaanii keessa
qubatanitti, uummanni hundinuu akkuma nama tokkootti oobdii Karra Bishaanii
duratti walitti qabame. Isaanis akka inni Kitaaba Seera Musee kan WAAQAYYO
Israa'eliif ajaje sana fiduuf Izraa barsiisaa seeraa sanatti himan.
2 Kanaafuu Izraan lubichi guyyaa jalqaba ji'a torbaffaatti fuula waldaa dhiiraa fi
dubartii warra waa hubachuu danda'an hundaa duratti Seera sana fide. 3 Innis barii
ganamaa jalqabee hamma saafaatti gara oobdii Karra Bishaaniin duratti garagalee fuula dhiirotaa, dubartootaa fi namoota waa hubachuu danda'an kaanii duratti sagalee isaa ol fudhatee seera sana dubbise. Uummanni hundis kitaaba Seeraa sana qalbeeffatee dhaggeeffate.
4 Izraan barsiisaan seeraa sun waltajjii mukaa kan kaayyoo kanaaf hojjetame irra dhaabate. Isa biras karaa mirga isaa Matiitiyaa, Shemaa, Anaayaa, Uuriyaa, Hilqiyaa fi Ma'aseyaatu dhaabate; karaa bitaa isaa immoo Phedaayaa, Miishaa'eel, Malkiyaa, Haashum, Hashbadaanaa, Zakkaariyaasii fi Meshulaamitu dhaabatee ture.
5 Izraan Kitaabicha bane. Sababii inni isaanii ol dhaabachaa tureef namoonni
hundi isa arguu danda'an; akkuma inni kitaabicha baneenis sabni hundi ka'ee
dhaabate. 6 Izraanis WAAQAYYO Waaqa guddicha galateeffate; namoonni hundinuus
harka ol qabatanii, "Ameen! Ameen!" jedhanii jalaa qaban. Ergasiis gad jedhanii addaan lafatti gombifamanii WAAQAYYOOF sagadan.
7 Lewwonni jechuunis Yeeshuu'aan, Baaniin, Sheereebiyaan, Yaamiin, Aquub,
Shaabetaayi, Hoodiyaa, Ma'aseyaan, Qeliixaa, Azaariyaa, Yoozaabaad, Haanaanii fi
Phelaayaan utuma waldaan achi dhaabatee jiruu seera sana ibsaniif. 8 Isaanis akka
sabni waan dubbifame sana hubatuuf Kitaaba Seera Waaqaa keessaa dubbisanii ibsuudhaan hiikkaa isaa kennaa turan.

---
* **7:70** 7:70 Daariikiin tokko giraamii 8. † **7:71** 7:71 Minnaaniin tokko giraamii 600.

9 Achii immoo Nahimiyaan bulchaan biyyaa, Izraan lubichi barsiisaan seeraa sunii
fi Lewwonni uummataaf ibsa kennaa turan sun hunda isaaniitiin, “Guyyaan kun
guyyaa WAAQAYYO Waaqa keessaniif qulqulleeffamee dha. Hin gaddinaa yookaan hin
boo’inaa” jedhan. Sabni hundi yeroo dubbii seera sanaa dhaga’etti boo’aa tureetii.

10 Kana irratti Nahimiyaan akkana jedhe; “Dhaqaatii nyaata filatamaa nyaadhaa;
dhugaatii mi’aawaas dhugaa; warra waan qophaa’e tokko illee hin qabneefis waa
ergaa. Guyyaan kun guyyaa Gooftaa keenyaaf qulqulleeffamee dha. Sababii
gammachuun WAAQAYYOO jabina keessan ta’eef hin gaddinaa.”

11 Lewwonnis, “Cal’isaa; guyyaan kun guyyaa qulqulluudhaatii hin gaddinaa”
jedhanii uummata hunda ni tasgabbeessan.

12 Ergasiis sabni hundi sababii dubbii itti himame sana hubateef nyaatee dhuguuf,
nyaata isaa irraa qoodee warra kaaniif illee erguu fi gammachuu guddaan ayyaanef-
fachuudhaaf ka’ee deeme.

13 Bultii lammaffaa ji’a sanaatti abbootiin maatiiwwanii hundinuu dubbii Seera
sanaa qalbeeffachuuf lubootaa fi Lewwota wajjin Izraa barsiisaa sana biratti walitti
qabaman. 14 Isaanis akka ajajni WAAQAYYO karaa Museen kenne kan, Israa’eloonni
yeroo ayyaana ji’a torbaffaatti daasii keessa turuu qabu jedhu sun seera keessatti
barreeffamee jiru argatan; 15 akkasumas akka isaan akkuma barreeffamee jirutti,
“Daasii ijaaruudhaaf biyya gaaraatti ol ba’aatii damee ejersaa fi damee ejersa
bosonaa, damee kusaayee, damee meexxii fi damee mukkeen baala qabanii fidaa”
jedhanii magaalaawwan isaanii fi Yerusaalem keessatti labsuu qaban ni argatan.

16 Kanaafuu uummanni sun gad ba’ee dameelee fidee tokkoon tokkoon isaanii
bantii mana ofii isaanii irratti, oobdii ofii isaanii irratti, oobdii mana Waaqaa irratti,
oobdii Karra Bishaanii fi oobdii Karra Efreem bira jiru irratti daasii ijaarratan.
17 Waldaan boojuudhaa deebi’e hundi daasii ijaarratee keessa jiraate. Bara Iyyaasuu
ilma Nuuniitii jalqabee hamma gaafasitti Israa’eloonni akkasitti hin ayyaaneffanne.
Gammachuun isaaniis akka malee guddaa ture.

18 Izraanis guyyaa jalqabaatii hamma guyyaa dhumaatti guyyuma guyyaan Kitaaba
Seera Waaqaa keessaa dubbise. Isaanis guyyaa torba ayyaana sana ayyaaneffatanii
guyyaa saddeettaffaatti immoo akkuma seeraatti yaa’ii guddaa godhatan.

# 9

*Israa’eloonni Cubbuu Isaanii Himatan*

1 Bultii digdamii afuraffaa ji’a sanaatti Israa’eloonni wayyaa gaddaa uffatanii,
daaraa mataatti firfirfatanii soomaaf walitti qabaman. 2 Warri sanyii Israa’el ta’anis
namoota ormaa hunda irraa kophaa of baasan. Isaanis ka’anii cubbuu ofii isaaniitii
fi hammina abbootii isaanii himatan. 3 Isaanis idduma turan sana dhaabatanii
kurmaana guyyaatiif Kitaaba Seera WAAQAYYO Waaqa isaanii keessaa dubbifatan;
kurmaana biraa immoo cubbuu isaanii himachaa WAAQAYYO Waaqa isaanii waaqef-
fatan. 4 Lewwonni jechuunis Yeeshuu’aan, Baaniin, Qadmii’eel, Shebaniyaan, Buniin,
Sheereebiyaan, Baanii fi Kenaan waltajjiiwwan irra dhaabatanii sagalee ol fudhatanii
WAAQAYYO isaanii waammatan. 5 Lewwonni jechuunis Yeeshuu’aan, Qadmii’eel,
Baaniin, Hashabniyaan, Sheereebiyaan, Hoodiyaa, Shebaniyaanii fi Phetaayaadhaan,
“Ka’aatii WAAQAYYO Waaqa keessan isa bara baraa hamma bara baraatti jiraatu sana
galateeffadhaa” jedhan.

“Maqaan kee inni ulfina qabeessi haa eebbifamu; eebbaa fi galata hundaa olittis
ol ol haa jedhu. 6 Suma qofatu WAAQAYYO. Ati samiiwwan, samiiwwan oliitii fi
tuuta urjiiwwan isaanii hunda, lafaa fi waan lafa irra jiru hunda, galaanaa fi waan
isaan keessa jiru hunda uumte. Ati waan hundaaf lubbuu kennita; raayyaawwan
samiis si waaqeffatu.

7 “Ati WAAQAYYO Waaqa Abraamin filattee biyya Kaldootaa Uuri keessa isa baaftee
Abrahaam jettee isa moggaaftee dha. 8 Ati akka ati yaadni isaa amanamaa siif ta’e
argitee biyya Kana’aanotaa, Heetotaa, Amoorotaa, Feerzotaa, Yebuusotaatii fi biyya
Girgaashotaa sanyiiwwan isaatiif kennuuf kakuu isaaf galte. Ati waan qajeelaa
taateef waadaa kee eegdeef.

9 “Ati rakkina abbootiin keenya biyya Gibxi keessatti rakkatan argite; boo’icha
isaan Galaana Diimaa biratti boo’an illee ni dhageesse. 10 Ati sababii warri Gibxi of
tuulummadhaan hammam akka isaan dhiphisan beekteef Fara’oonitti, qondaaltota
isaa hundattii fi saba biyya isaa hundatti mallattoo fi dinqiiwwan argisiifte. Ati
maqaa hamma har’aatti illee jiru ofii keetiif baafatte. 11 Ati akka isaan lafa gogaa
irra darbaniif fuuluma isaanii duratti galaana gargar qoodde; warra isaan ari’u
garuu akkuma dhagaa bishaan guddaatti gad darbatamuu tokkootti tuujubatti
gad isaan darbatte. 12 Guyyaa guyyaa utubaa duumessaatiin isaan qajeelchite;
halkan halkan immoo karaa isaan deeman irratti ifa isaaniif kennuuf jettee utubaa
ibiddaatiin isaan qajeelchite.

13 “Ati Tulluu Siinaa irratti gad buute; samii irraas isaanitti dubbate. Ajajawwanii
fi seerawwan dhugaa fi qajeelaa, labsiiwwanii fi ajajawwan gaariis isaaniif kennite.
14 Sanbata kee qulqulluu sana isaan beeksiftee karaa garbicha kee Museetiin
ajajawwan, labsiiwwanii fi seerawwan isaaniif kennite. 15 Yeroo isaan beela’anitti
samiidhaa buddeena kenniteefii yeroo isaan dheebotanitti immoo kattaa keessaa
bishaan baafteef; akka isaan biyya ati isaaniif kennuuf kakatte sanatti galanii
dhaalanis isaanitti himte.

16 “Abbootiin keenya garuu of tuulan; mataa jabaataniis ajaja kee eeguu
didan. 17 Jarris ajajamuu didan; dinqii ati isaan gidduutti hojjette hin yaadanne.
Garbummaa isaaniitti deebi’uuf jedhaniis mataa jabaatanii fincila isaaniitiin
hoogganaa muuddatan. Ati garuu Waaqa namaaf araaramu, arjaa fi gara laafessa,
kan dafee hin aarree fi kan jaalalli isaa dhuma hin qabnee dha. Kanaafuu ati isaan
hin ganne; 18 yeroo isaan ofii isaaniitiif fakkii jabbii tolfatanii, ‘Kun Waaqa keessan
kan biyya Gibxii isin baasee dha’ jedhanii Waaqa arrabsanitti illee ati isaan hin
ganne.

19 “Sababii gara laafina kee guddaa sanaatiif ati gammoojjii keessatti isaan hin
ganne. Utubaan duumessaa guyyaa guyyaa karaa isaanii irratti isaan geggeessuu
hin dhiifne; utubaan ibiddaa immoo halkan halkan karaa isaanii irratti isaaniif
ibsuu hin dhiifne. 20 Isaan barsiisuuf jettee Hafuura kee gaarii sana kennite. Ati
mannaa afaan isaaniitii hin dhabamsiifne; dheebuu isaaniitiifis bishaan kenniteef.
21 Waggaa afurtama gammoojjii keessatti isaan soorte; isaan waan tokko illee hin
dhabne; wayyaan isaanii hin dhumne; miilli isaaniis hin iitofne.

22 “Ati daangaa hunda qooddeefii mootummootaa fi saboota isaaniif kennite.
Isaanis akkasiin biyya Sihoon mooticha Heshboonii fi biyya Oogi mooticha
Baashaanii fudhatan. 23 Ati ilmaan isaanii akkuma urjiiwwan samii baay’ifte;
biyya akka isaan seenanii dhaalaniif abbootii isaaniitti himte sanatti isaan galchite.
24 Ilmaan isaanii itti galanii biyya sana dhaalan. Atis Kana’aanota biyya sana
turan isaan jala galchite; akka jarri waanuma fedhan isaan godhaniif Kana’aanota
mootota isaaniitii fi saba biyya sanaatiin walitti qabdee dabarsitee harka isaaniitti
kennite. 25 Isaanis magaalaawwan da’annoo qabanii fi lafa gabbataa qabatan;
manneen mi’a gaggaarii gosa hundaatiin guutaman, boollawwan bishaanii qo-
taman, iddoo dhaabaa wayinii, lafa qotiisaa mukkeen ejersaatii fi mukkeen ija
baasan hedduu dhaalan. Isaan nyaatanii quufanii gabbatan; arjummaa kee guddaa
sanaanis ni gammadan.

26 “Isaan garuu ajajamuu didanii sitti fincilan; seera kees of duubatti gatan.

Raajota kee kanneen gara keetti isaan deebisuuf jedhanii isaan seeran illee ni fixan;
Waaqas ni arrabsan. 27 Kanaafuu ati diinota isaanii warra isaan cunqursanitti
dabarsitee isaan kennite. Isaan garuu yeroo cunqurfamanitti sitti iyyatan. Atis samiidhaa isaan dhageessee gara laafina kee guddaa sanaan namoota harka diinota isaanii jalaa isaan baasan kenniteef.
28 “Isaan garuu akkuma boqonnaa argataniin amma illee fuula kee duratti waan hamaa hojjetan. Kana irratti ati akka warri sun isaan bulchaniif jettee harka diinota isaaniitti dabarsitee isaan kennite. Yommuu isaan amma illee gara keetti ol iyyatanitti ati samii irraa dhageessee gara laafina keetiin yeroo hedduu isaan furte.
29 “Ati akka isaan gara seera keetiitti deebi’aniif isaan akeekkachiifte; isaan immoo of tuulanii ajaja kee eeguu didan. Ajajawwan kee kanneen ‘namni tokko yoo ajajameef ittiin jireenya argachuu danda’utti illee’ cubbuu hojjetan. Finciluudhaan dugda isaanii sitti garagalchan; mataa jabaataniis si dhaga’u didan.
30 Ati bara hedduu isaaniif obsite. Karaa raajota keetiitiin Hafuura keetiin isaan akeekkachiifte. Ta’us isaan gurra hin kennine; kanaafuu ati dabarsitee saba biyya
sanaatti isaan kennite. 31 Ati garuu sababii Waaqa arjaa fi araara qabeessa taateef, araara kee guddicha sanaaf jettee isaan hin balleessine yookaan isaan hin ganne.
32 “Kanaafuu amma yaa Waaqa keenya, Waaqa guddicha, jabaa fi sodaachisaa, kan kakuu jaalala keetii eegdu, ati rakkina nutti dhufe kana hunda jechuunis rakkina bara mootota Asoorii jalqabee hamma har’aatti nutti, mootota keenyaa fi hooggantoota keenyatti, luboota keenyaa fi raajota keenyatti, abbootii keenyaa fi
saba kee hundatti dhufe kana akka waan salphaatti hin ilaalin. 33 Waan nurra ga’e hunda keessatti ati qajeelaa dha; nu yoo hamaa hojjenne iyyuu ati waan qajeelaa
hojjette. 34 Mootonni keenya, hooggantoonni keenya, luboonni keenyaa fi abbootiin keenya seera kee duukaa hin buune; isaan ajaja keetiif yookaan akeekkachiisa
ati isaaniif kenniteef xiyyeeffannoo hin kennine. 35 Isaan yeroo ati biyya bal’aa fi lafa gabbataa keessatti waan gaarii isaaniif kennite sana keessatti gammadaa, mootummaa ofii isaanii keessa turanitti illee si hin tajaajille yookaan karaa isaanii hamaa sana irraa hin deebine.
36 “Kunoo nu har’a garboota; biyyuma ati akka isaan midhaan isheetii fi waan gaggaarii isheen baaftu nyaataniif jettee abbootii keenyaaf kennite keessatti
garboomneerra. 37 Sababii cubbuu keenyaatiif midhaan ishee baay’een sun gara mootota ati nutti muudde sanaa dhaqa. Isaan nuu fi loon keenya illee akkuma fedhan godhu. Nu rakkina guddaa keessa jirra.

### *Walii Galtee Sabaa*

38 “Sababii waan kana hundaatiif nu walii galtee walitti nu hidhu tokko barreeffamaan qopheessine. Hooggantoonni keenya, Lewwonni keenyaa fi luboonni keenya chaappaawwan isaanii itti rukutan.”

## 10

1 Warri chaappaan rukutanis kanneenii dha:

Bulchaa biyyaa
jechuunis Nahimiyaa ilma Hakaaliyaa.

Zedeqiyaa, 2 Seraayaa, Azaariyaa, Ermiyaas,
3 Phaashihuur, Amariyaa, Malkiyaa,
4 Haxuush, Shebaniyaa, Maluuk,
5 Haariim, Mereemooti, Obaadiyaa,

6 Daani'el, Ginetoon, Baaruk,
7 Meshulaam, Abiyaa, Miyaamiin,
8 Ma'aaziyaa, Bilgaayii fi Shemaa'iyaa.
Warri kunneen luboota turan.

9 Lewwonni:
Yeeshuu'aa ilma Azaniyaa, ilmaan Heenaadaad keessaa Binuuyii, Qadmii'eelii fi
10 obboloota isaanii: Shebaniyaa,
Hoodiyaa, Qeliixaa, Phelaayaa, Haanaan,
11 Miikaa, Rehoob, Hashabiyaa,
12 Zakuur, Sheereebiyaa, Shebaniyaa,
13 Hoodiyaa, Baanii fi Beniinuu.

14 Bulchitoota sabaa:
Phaarosh, Fahat Mo'aab, Eelaam, Zaatuu, Baanii,
15 Bunii, Azgaad, Beebay,
16 Adooniyaa, Baguwaay, Aadiin,
17 Ateer, Hisqiyaas, Azuri,
18 Hoodiyaa, Haashum, Beesaay,
19 Haariif, Anaatoot, Nebaayi,
20 Magiphii'aash, Meshulaam, Heeziir,
21 Mesheezabeel, Zaadoq, Yaadu'aa,
22 Phelaatiyaa, Haanaan, Anaayaa,
23 Hooshee'aa, Hanaaniyaa, Hashuub,
24 Haloheesh, Philihaa, Soobeq,
25 Rehuum, Hashabnaa, Ma'aseyaa,
26 Ahiiyaa, Haanaan, Aanaan,
27 Maluuk, Haariimii fi Ba'anaa.

28 "Namoonni hafan kaan jechuunis luboonni, Lewwonni, eegdonni karraa, faarfattoonni, tajaajiltoonni mana qulqullummaatii fi warri Seera Waaqaatiif jedhanii saboota ollaa irraa kophaa of baasan hundinuu niitota isaanii, ilmaanii fi intallan isaanii kanneen waa hubachuu danda'an hunda wajjin
29 obboloota isaanii bebeekamootti dabalamanii akka Seera Waaqaa kan karaa Musee garbicha Waaqaa sanaatiin kenname sana eeganiif ajaja, seeraa fi labsii WAAQAYYO Gooftaa keenyaa hundaaf ajajamaniif abaarsaa fi kakuudhaan waadaa galan.
30 "Nu akka warra naannoo keenya jiraatanitti intallan keenya hin heerumsiifne yookaan akka ilmaan keenya illee intallan isaanii hin fuusifne waadaa galla.
31 "Yoo saboonni ollaa keenya jiraatan mi'a daldalaa yookaan midhaan gurguraa guyyaa Sanbataatiin fidan nu guyyaa Sanbataatiin yookaan guyyaa qulqulluu kamiin iyyuu isaan irraa hin bitannu. Waggaa torbaffaa kam iyyuu lafa qotiisaa boqochiifnee idaa hunda namaaf ni dhiifna.
32 "Akka waggaa hunda tajaajila mana Waaqa keenyaatiif jennee saqilii argannu harka sadii keessaa harka tokko kenninu itti gaafatamummaa ni fudhanna;
33 kunis buddeena minjaala irratti dhi'eeffamuuf, kennaa midhaaniitii fi aarsaa gubamu kan yeroo yerootti dhi'eeffamuuf, aarsaa guyyaa Sanbataatiif, kan ayyaana Baatii Haaraatii fi kan ayyaanota bebeekamoo, aarsaawwan qulqullaa'oodhaaf, aarsaawwan cubbuu kanneen Israa'eliif araara buusuuf dhi'eeffamaniif, akkasumas hojiiwwan mana Waaqa keenyaa keessaa hundaafii dha.
34 "Nu, luboonni, Lewwonnii fi sabni yeroo itti tokkoon tokkoon maatiiwwan keenyaa akkuma Seera keessatti barreeffametti waggaa hunda keessaa yeroo

murteeffametti iddoo aarsaa WAAQAYYO Waaqa keenyaa irratti bobeessuuf kennaa qoraanii gara mana Waaqa keenyaa fiduu qabnu beekuuf ixaa buufanneerra.
35 “Akkasumas nu mataa midhaan keenyaatii fi mataa muka ija kennuu hunda waggaa waggaadhaan gara mana WAAQAYYOO fiduuf itti gaafatama fudhanneerra.
36 “Akkuma Seera keessatti barreeffametti hangafa ilmaan keenyaatii fi hangafa loon keenyaa, hangafa horii keenyaatii fi hangafa bushaayee keenyaa gara mana Waaqa keenyaa, luboota achi keessa tajaajilanitti ni geessina.
37 “Kana malees nu daakuu keenya kan bukeeffame irraa, kennaawwan midhaan keenyaa irraa, ija mukkeen keenyaa hunda irraa, daadhii wayinii keenyaa haaraa fi zayitii irraa mataa fuunee gara mankuusaalee mana Waaqa keenyaa lubootatti geessina. Amma illee sababii warri harka kudhan keessaa harka tokko walitti qaban Lewwota ta’aniif magaalaawwan keessa hojjennu hunda keessaa oomisha midhaan keenyaa harka kudhan keessaa harka tokko Lewwotatti geessina. 38 Yeroo
Lewwonni kennaa harka kudhan keessaa tokko walitti qabanitti lubni sanyii Aroon keessaa dhalate tokko isaan wajjin jiraachuu qaba; ergasii Lewwonni kennaa walitti qaban sana keessaa harka kudhan keessaa tokko gara mana Waaqa keenyaa, gara mankuusaa qabeenyaatti fiduu qabu. 39 Sabni Israa’elii fi ilmaan Lewwii
kennaa midhaanii, kan daadhii wayinii haaraa fi kan zayitii gara mankuusaalee mi’i mana qulqullummaa kaa’amu, iddoo luboonni tajaajilan, eegdonni karraa fi faarfattoonni taa’anitti fiduu qabu.
“Nus mana Waaqa keenyaa hin dagannu.”

# 11

*Jiraattota Yerusaalem Warra Haaraa*
*11:3-19 kwf – 1Sn 9:1-17*

1 Yeroo sanatti hooggantoonni sabaa Yerusaalem keessa qubatan; warri kaan immoo akka inni Yerusaalem magaalaa qulqulluu sana keessa jiraatuuf nama kudhan keessaa tokko fidachuuf ixaa buufatan; warri hafan sagallan immoo magaalaadhuma ofii isaanii keessatti hafan. 2 Sabnis namoota Yerusaalem keessa jiraachuuf fedhiin
of kennan hunda eebbise.

3 Warri kunneen hooggantoota kutaa biyyaa kanneen Yerusaalem keessa qubatanii dha; magaalaawwan Yihuudaa keessa garuu tokkoon tokkoon isaanii qabeenya ofii isaaniitiin magaalaawwan ofii isaanii keessa jiraatan; isaanis: Israa’eloota, luboota, Lewwota, tajaajiltoota mana qulqullummaa fi sanyiiwwan tajaajiltoota Solomoon; 4 ilmaan Yihuudaa fi ilmaan
Beniyaam tokko tokko immoo Yerusaalem keessa jiraatan.

Sanyii Yihuudaa Keessaa:
Ataayyaa ilma Uziyaa, ilma Zakkaariyaas, ilma Amariyaa, ilma Shefaaxiyaa, ilma Mahalaleel, sanyii Faares; akkasumas
5 Ma’aseyaa ilma Baaruk, ilma Kol-Hoozee, ilma Hazaayaa, ilma Adaayaa, ilma Yooyaariib, ilma Zakkaariyaas, sanyii Shelaa.
6 Sanyiin Faares warri Yerusaalem keessa jiraatan walumaa galatti namoota jajjaboo 468 turan.
7 Sanyii Beniyaam keessaa:
Sa’aaluu ilma Meshulaam, ilma Yoo’eed, ilma Phedaayaa, ilma Qolaayaa, ilma Ma’aseyaa, ilma Iitii’eel, ilma Yeshaayaa, 8 duukaa buutota isaa Gabayii fi
Salaayi; isaan walumatti nama 928 turan.

[9] Yoo’eel ilmi Zikrii to’ataa isaanii ture; Yihuudaan ilmi Hasenuu’aa bulchaa itti aanaa ture.

[10] Luboota keessaa:

Yedaa’iyaa, ilma Yooyaariib, Yaakiin;

[11] Seraayaa ilma Hilqiyaa, ilma Meshulaam, ilma Zaadoq, ilma Meraayoot, ilma Ahiixuub, bulchaa mana Waaqaa, [12] obboloota isaanii kanneen mana qulqullummaa keessa hojjetan; walumatti dhiira 822 turan.

Adaayaa ilma Yerooham, ilma Phelaaliyaa, ilma Amzii, ilma Zakkaariyaas, ilma Phaashihuur, ilma Malkiyaatii fi [13] obboloota isaa warra abbootii maatii turan; walumatti dhiira 242 turan.

Amashisaay ilma Azari’eel, ilma Ahazaayi, ilma Mashileemoot, ilma Imeeriitii fi
[14] obboloota isaa namoota jajjaboo; walumatti dhiira 128 turan.

To’ataan isaanii Zabdii’el ilma Hagdoolim ture.

[15] Lewwota Keessaa:

Shemaa’iyaa ilma Hashuub, ilma Azriiqaam, ilma Hashabiyaa, ilma Buunii;

[16] hangafoota Lewwotaa keessaa Shaabetaayii fi Yoozaabaad warra hojii mana Waaqaatiin alaatti itti gaafatamoo turan.

[17] Mataaniyaa ilma Miikaa, ilma Zabdii, ilma Asaaf, namicha yeroo galataatii fi kadhannaatti sagantaa qajeelchu sana;

Baqbuqiyaa isa obboloota ofii isaa keessaa lammaffaa ture sana;

Abdaa ilma Shamuu’aa, ilma Gaalaal, ilma Yeduutuun.

[18] Lewwonni magaalaa qulqullittii walumatti 284 turan.

[19] Eegdota karraa:

Aquub, Talmoonii fi obboloota isaanii kanneen karra eegan; isaanis walumatti dhiira 172 turan.

[20] Israa’eloonni kaan immoo lubootaa fi Lewwota wajjin magaalaawwan Yihuudaa keessa tokkoon tokkoon isaanii dhaala ofii isaaniitiin jiraatan.

[21] Tajaajiltoonni mana qulqullummaa garuu tulluu Oofeel irra jiraatan; Ziihaa fi Gishiphaan immoo ajajjoota isaanii turan.

[22] Uuziin ilmi Baanii, ilmi Hashabiyaa, ilmi Mataaniyaa, ilmi Miikaa sun Lewwota Yerusaalem keessa jiraatan irratti qondaala hangafa ture. Uuziin kun sanyiiwwan Asaaf warra faarfattoota itti gaafatamtoota hojii mana Waaqaa turan keessaa tokko
ture. [23] Faarfattoonni sun ajaja mootichaa kan guyyaa guyyaan hojii isaanii qajeelchu jala turan.

[24] Phetaayaan ilmi Mesheezabeel inni sanyiiwwan Zaaraa ilma Yihuudaa keessaa tokko ta’e sun dhimma saba ilaalu hunda keessatti iddoo bu’aa mootichaa ture.

[25] Gama gandoota lafa qotiisaa qabaniitiin immoo sabni Yihuudaa tokko tokko
Kiriyaati Arbaaqii fi gandoota ishee keessa, Diiboonii fi gandoota ishee keessa,
Yeqabzi’eelii fi gandoota ishee keessa, [26] Yeeshu’aa keessa, Molaadaa keessa, Beet
Phelexi keessa, [27] Hazar Shuu’aal keessa, Bersheebaa fi gandoota ishee keessa,
[28] Siiqlaagi keessa, Mekoonaa fi gandoota ishee keessa, [29] Een Rimoon keessa, Zoraa
keessa, Yarmuut keessa, [30] Zaano’aa keessa, Adulaamii fi gandoota ishee keessa,
Laakkiishii fi lafa qotiisaawwan ishee keessa, Azeeqaa fi gandoota ishee keessa
qubatan. Kanaafuu isaan Bersheebaa jalqabanii hamma Sulula Hinoomitti jiraatan.

[31] Sanyiiwwan Beniyaam Gebaadhaa jalqabanii Mikmaas keessa, Ayyaa keessa,
Beet’eelii fi gandoota ishee keessa, [32] Anaatoot keessa, Noobii fi Hanaaniyaa keessa,
[33] Haazoor keessa, Raamaa fi Gitayim keessa, [34] Haadiid keessa, Zeboo’iimii fi
Nebalaax keessa, [35] Lood, Oonoo fi Gehaaraashim keessa jiraatan.

[36] Garee Lewwota Yihuudaa keessaa tokko tokko immoo gosoota Beniyaam gidduu qubatan.

# 12

### *Lubootaa fi Lewwota*

1 Isaan kunneen lubootaa fi Lewwota warra Zarubaabel ilma She'altii'eelii fi Iyyaasuu wajjin deebi'anii dha:

Seraayaa, Ermiyaas, Izraa,
2 Amariyaa, Maluuk, Haxuush,
3 Shekaaniyaa, Rehuum, Mereemooti,
4 Iddoo, Ginetoon, Abiyaa,
5 Miyaamiin, Ma'aadiyaa, Bilgaa,
6 Shemaa'iyaa, Yooyaariib, Yedaa'iyaa,
7 Sa'aaluu, Aamoq, Hilqiyaa fi Yedaa'iyaa.

Warri kun bara Iyyaasuu keessa hooggantoota lubootaatii fi obboloota isaanii turan.

8 Lewwonni immoo Yeeshuu'aa, Binuuyii, Qadmii'eel, Sheereebiyaa, Yihuudaa
akkasumas Mataaniyaa isa obboloota isaa wajjin faarfannaa galataatti itti gaafatamaa
ture sana turan. 9 Obboleeyyan isaanii Baqbuqiyaa fi Unniin yeroo tajaajilaatti fuullee
isaanii dhadhaabachaa turan.

10 Iyyaasuun abbaa Yooyaaqiim;
Yooyaaqiim abbaa Eliyaashiib;
Eliyaashiib abbaa Yooyaadaa ti;
11 Yooyaadaan abbaa Yoonaataan;
Yoonaataan abbaa Yaadu'aa ti.

12 Isaan kunneen bara Yooyaaqiim keessa abbootii maatiiwwan lubootaa turan:

Maatii Seraayaa keessaa Meraayaa;
maatii Ermiyaas keessaa Hanaaniyaa;
13 maatii Izraa keessaa Meshulaam;
maatii Amariyaa keessaa Yehohaanaan;
14 maatii Maliikii keessaa Yoonaataan;
maatii Shebaniyaa keessaa Yoosef;
15 maatii Haariim keessaa Adinaa;
maatii Meraayoot keessaa Helqaayi;
16 maatii Iddoo keessaa Zakkaariyaas;
maatii Ginetoon keessaa Meshulaam;
17 maatii Abiyaa keessaa Zikrii;
maatii Miniyaamiinii fi kan Mo'aadiyaa keessaa Philxaayi;
18 maatii Bilgaa keessaa Shamuu'aa;
maatii Shemaa'iyaa keessaa Yoonaataan;
19 maatii Yooyaariib keessaa Matenaayi;
maatii Yedaa'iyaa keessaa Uzii;
20 maatii Sheelaay keessaa Qaalaayi;
maatii Aamoq keessaa Eeber;
21 maatii Hilqiyaa keessaa Hashabiyaa;
maatii Yedaa'iyaa keessaa Naatnaa'el.

22 Abbootiin maatii Lewwotaa bara Eliyaashiib, Yooyaadaa, Yoohaanaanii fi bara
Yaadu'aa keessa akkasumas abbootiin maatii lubootaa bara mootummaa Daariyoos
namicha Faares sanaa keessa galmeeffaman. 23 Lewwonni warri abbootii maatii
turan hamma bara Yoohaanaan ilma Eliyaashiibitti kitaaba seenaa keessatti galme-
effaman. 24 Hangafoonni Lewwotaas Hashabiyaa, Sheereebiyaa, Yeeshu'aa ilma
Qadmii'eel akkasumas obboloota isaanii warra akkuma Daawit namni Waaqaa sun
ajajetti faarfannaa fi galata dhi'eessuudhaaf fuullee isaanii dhaabatanii gareen tokko
garee kaan jalaa qabu sana turan.

25 Mataaniyaan, Baqbuqiyaan, Obaadiyaan, Meshulaam, Talmoonii fi Aquub
mankuusaalee karrawwan bira jiran eegu turan. 26 Isaanis bara Yooyaaqiim ilma
Iyyaasuu, ilma Yoozaadaaq keessa, bara Nahimiyaa bulchaa biyyaatii fi bara Izraa
lubicha barreessaa sanaa keessa tajaajilaa turan.

### *Eebba Dallaa Yerusaalem*

27 Yeroo eebba dallaa Yerusaalemitti Lewwonni akka faarfannaa galataatiin,
kililleedhaan, baganaa fi kiraaraan ayyaana eebbaa sana gammachuun ayyaan-
effataniif iddoo jiraatan hundaa barbaadamanii gara Yerusaalem fidaman.
28 Faarfattoonnis biyya naannoo Yerusaalem jechuunis gandoota Netoofotaatii, 29 Beet
Gilgaalii, naannoo Gebaatii fi Azmaawetitti walitti fidaman; faarfattoonni naannoo
Yerusaalemitti gandoota ofii isaanii ijaarratanii turaniitii. 30 Luboonnii fi Lewwonnis
erga akka seeraatti of qulqulleessanii booddee saba, karrawwanii fi dallaa sana
qulqulleessan.

31 Anis akka hooggantoonni Yihuudaa dallaatti ol ba'an nan godhe. Akkasumas
akka isaan galata dhi'eessaniif tuuta faarfattootaa lama nan ramade. Tuunni tokko
karaa mirgaatiin dallaa irraan gara Karra Dikee dhaqe. 32 Hoosha'iyaa fi hooggan-
toota Yihuudaa keessaa walakkaan, 33 Azaariyaa, Izraa, Meshulaam, 34 Yihuudaa,
Beniyaam, Shemaa'iyaa fi Ermiyaas wajjin isaan duukaa bu'an; 35 akkasumas
luboonni malakata qabatan tokko tokkoo fi Zakkaariyaas ilmi Yoonaataan, ilmi
Shemaa'iyaa, ilmi Mataaniyaa, Miikaayaa, ilmi Zakuur, ilmi Asaaf isaan duukaa
bu'an; 36 amma illee obboloota isaa jechuunis Shemaa'iyaan, Azari'eel, Miilaalaayi,
Gilaalayi, Maa'ayi, Naatnaa'el, Yihuudaa fi Hanaaniim akkuma Daawit namni
Waaqaa sun ajajetti meeshaa faarfannaa fudhatanii dhaqan. Izraan barreessaan sun
immoo isaan hoogganaa ture. 37 Isaanis Karra Burqaa biraa ka'anii gulantaawwan
Magaalaa Daawit iddoo dallaan ittiin ol ka'u sanaan mana Daawit irraan qajeelanii
gara Karra Bishaanii kan gama ba'a biiftuutti ol ba'an.

38 Tuunni faarfattootaa lammaffaan immoo gara bitaatti qajeele. Anis gartokkee
sabaa wajjin dallaa gubbaadhaan gara Gamoo ol dheeraa Iddoo Ibiddaatii fi Dallaa
Bal'aatti isaan duukaa bu'e; 39 akkasumas ani Karra Efreem irraan, karaa Karra
Moofaa, karaa Karra Qurxummii, karaa Gamoo ol dheeraa Hanaani'eelii fi Karaa
Gamoo ol dheeraa Dhibbaatiin hamma Karra Hoolotaatti isaan duukaa nan bu'e.
Isaanis Karra Eegdotaa bira ga'anii dhaabatan.

40 Tuunni faarfattootaa kan galata dhi'eesse sun lachuu mana Waaqaa keessatti
iddoo isaa qabate; anis qondaaltota gartokko wajjin iddoo nan qabadhe;
41 amma illee luboonni jechuunis Eliiyaaqiim, Ma'aseyaan, Miiniyaamiin, Mi-
ikaayaan, Eliiyoo'eenayin, Zakkaariyaasii fi Hanaaniyaan malakata isaanii qabatanii
42 Ma'aseyaan, Shemaa'iyaan, Ele'aazaar, Ooziin, Yehohaanaaniin, Malkiyaan, Ee-
laamii fi Eezer iddoo iddoo isaanii qabatan. Faarfattoonni immoo Yizrahiyaadhaan
qajeelfamanii faarfatan. 43 Isaanis sababii Waaqni gammachuu guddaa isaaniif
kenneef gaafas gammadaa aarsaa guddaa dhi'eessan. Dubartoonnii fi ijoolleenis ni
gammadan. Sagaleen gammachuu Yerusaalem keessaas fagootti dhaga'ame.

44 Yeroo sanatti namoonni mankuusaalee gumaachi, mataan midhaaniitii fi
kennaan harka kudhan keessaa tokkoo itti galfamu irratti itti gaafatamtoota ta'anii
muudaman. Isaanis lafa qotiisaa naannoo magaalaawwanitti argaman irraa qooda
Seerri lubootaa fi Lewwotaaf ajaju sana fidanii mankuusaaleetti galchan; Yihuudaan
lubootaa fi Lewwota tajaajilanitti gammadee tureetii. 45 Isaanis tajaajila Waaqa
isaaniitii fi tajaajila sirna qulqullessuu sana akkuma faarfattoonnii fi eegdonni
karraa godhan sana akkuma Daawitii fi ilmi isaa Solomoon ajajanitti raawwatan.
46 Jabana durii bara Daawitii fi Asaaf keessa qajeelchitoota faarfattootaa, kan
faarfannaa Waaqa leellisuutii fi kan Waaqa galateeffachuutu tureetii. 47 Kanaafuu
bara Zarubaabelii fi bara Nahimiyaa keessa Israa'eloonni hundi qooda guyyuma
guyyaadhaan faarfattootaa fi karra eegdotaaf barbaachisu kennan. Akkasumas
Lewwota kaaniif qooda isaanii kophaatti baasan; Lewwonnis qooda sanyiiwwan
Aroon kophaatti baasan.

# 13

*Geeddarama Nahimiyaan Dhuma Irratti Fide*

1 Guyyaa sana Kitaabni Musee fuuluma sabaa duratti dubbifame; achi keessattis
akka namni Amoon yookaan namni Mo'aab tokko yoom iyyuu waldaa Waaqaatti
dabalamuu hin qabne barreeffamee argame; 2 isaan akka inni saba Israa'el abaaruuf
Bala'aamin qaxaratan malee midhaanii fi bishaaniin Israa'eloota hin simanne. Ta'us
Waaqni keenya abaarsa sana eebbatti geeddare. 3 Sabnis seera kana dhageenyaan
nama sanyii ormaa hunda Israa'el keessaa kophaatti baase.

4 Kanaan dura Eliyaashiib lubichi itti gaafatamaa mankuusaalee mana Waaqaa
ture. Innis Xoobbiyaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qaba ture; 5 innis kutaa manaa
bal'aa isaan duraan kennaa midhaanii, ixaana mi'a mana qulqullummaa, akkasumas
kennaa midhaanii, kan daadhii wayinii haaraa fi zayitii Lewwotaaf, faarfattootaa fi
eegdota karraatiif ajajame harka kudhan keessaa tokkoo fi buusii lubootaaf kennamu
itti kuusan tokko Xoobbiyaadhaaf kennee ture.

6 Ani garuu sababii bara Arxeksis mooticha Baabilon keessa waggaa soddomii lam-
maffaatti gara mootichaa dhaqee tureef yeroo wanni kun hundi ta'etti Yerusaalem
keessa hin turre. Anis yeroo gabaabaa booddee isa irraa eeyyama fudhadhee
7 Yerusaalemitti nan deebi'e. Akka Eliyaashiib oobdii mana Waaqaa keessatti
Xoobbiyaadhaaf kutaa tokko kennuun waan hamaa hojjete nan beeke. 8 Anis
akka malee aareen mi'a manaa kan Xoobbiyaa hunda kutaa sana keessaa gad nan
dadarbadhe. 9 Ani ergasii akka kutaawwan sun qulqulleeffaman nan ajaje; isaanis ni
qulqulleessan; ani immoo mi'a mana Waaqaa, kennaa midhaaniitii fi ixaana wajjin
deebisee itti galche.

10 Ani akka qoodni Lewwotaaf ramadame sun isaaniif hin kennaminis nan
hubadhe; akkasumas akka Lewwonnii fi faarfattoonni tajaajila sanatti itti gaafatam-
toota turan hundi gara lafa qotiisaa ofii isaaniitti deebi'an nan beeke. 11 Kanaafuu ani
qondaaltota ifadheen, “Manni Waaqaa maaliif dagatama?” jedheen isaan gaafadhe.
Ergasiis ani walitti isaan qabee iddoo isaaniitti isaan nan deebise.

12 Yihuudaan hundi midhaan, daadhii wayinii haaraa fi zayitii harka kudhan
keessaa tokko fidanii mankuusaaleetti galchan. 13 Anis Shelemiyaa lubicha, Zaadoq
barreessichaa fi Lewwicha Phedaayaa jedhamu tokko itti gaafatamtoota manku-
usaalee godheen muude; akkasumas sababii isaan amanamoo ta'aniif Haanaan ilma
Zakuur, ilma Mataaniyaa sana gargaaraa isaanii nan godhe. Hojiin isaaniis obboloota
isaaniitiif nyaata hiruu ture.

14 Yaa Waaqa ko, waan kanaaf jedhii na yaadadhu; hojii gaarii ani mana Waaqa
kootii fi tajaajila isaatiif hojjedhes na duraa hin balleessin.

15 Ani bara sana Yihuudaa keessatti namoota guyyaa Sanbataatiin iddoo wayiniin
itti cuunfamutti wayinii dhidhiitanii midhaan fidanii, daadhii wayinii, ija wayinii,
ija harbuutii fi fe'iisa gosa biraa hunda wajjin harrootatti fe'an nan arge. Isaanis
waan kana hunda guyyaa Sanbataatiin Yerusaalemitti fidan. Kanaafuu ani akka
isaan guyyaa sana nyaata hin gurgurre isaan nan seere. 16 Namoonni Xiiroos warri
Yerusaalem keessa jiraatan qurxummii fi mi'a daldalaa kanneen gosa hundaa itti
fidanii guyyaa Sanbataatiin Yerusaalem keessatti warra Yihuudaatti gurguraa turan.
17 Ani immoo akkana jedheen namoota Yihuudaa bebeekamoo nan ifadhe; "Wanni
hamaan isin guyyaa Sanbataa xureessuudhaan hojjettan kun maal? 18 Abbootiin
keessan iyyuu waanuma kana hojjetanii akkasiin Waaqni badiisa kana hunda nuttii fi
magaalaa kanatti fide mitii? Isin amma kunoo Sanbata xureessuudhaan dheekkamsa
hammas iyyuu caalu Israa'elitti fidaa jirtu."
19 Anis yeroo gaaddisni galgalaa Sanbataan dura karrawwan Yerusaalem irra
bu'etti akka balbalawwan cufamanii hamma Sanbanni darbutti hin banamne nan
ajaje. Akka fe'iisni tokko illee guyyaa Sanbataatiin ol hin galfamneefis namoota koo
tokko tokko karrawwan irra nan dhaabe. 20 Daldaltoonnii fi gurgurtoonni mi'oota
gosa hundaa yeroo tokko yookaan yeroo lama Yerusaalemiin ala bulaniiru. 21 Ani
garuu, "Isin maaliif dallaa jala bultu? Yoo isin itti deebitanii akkas gootan ani
humnaan isinitti nan dhufa" jedheen isaan nan seere. Gaafasii jalqabanii isaan
lammata guyyaa Sanbataatiin hin dhufne. 22 Ani akka Lewwonni of qulqulleessanii
qulqullummaa guyyaa Sanbataa eeguuf dhaqanii karrawwan eegan nan ajaje.

Yaa Waaqa koo waan kanaaf jedhii na yaadadhu; akkuma jaalala kee guddaa
sanaattis naa araarami.

23 Kana caalaa iyyuu ani bara sana keessa namoota Yihuudaa kanneen dubartoonni
Ashdood, kan Amooniitii fi kan Mo'aab fuudhan nan arge. 24 Ilmaan isaanii keessaa
walakkaan afaan Ashdood yookaan afaan saboota biraa dubbatan malee afaan
Yihuudaa dubbachuu hin dandeenye. 25 Ani isaan ifadheen isaan nan abaare. Ani
namoota tokko tokko rukutee rifeensa isaanii irraa nan bubuqqise. Ani akkana
jedheen maqaa Waaqaatiin isaan nan kakachiise: "Isin intallan keessan ilmaan
isaaniitti heerumsiisuu yookaan intallan isaanii ilmaan keessan fuusisuu yookaan
ofii keessaniis fuudhuu hin qabdan. 26 Solomoon mootichi Israa'el fuudha akkasiitiin
cubbuu hojjete mitii? Saboota baay'ee keessa mootiin akka isaa tokko iyyuu hin turre.
Waaqni isa jaallatee Israa'el hunda irratti mootii isa godhe; ta'us dubartoonni ormaa
cubbuu isa hojjechiisan. 27 Nu amma akka isinis dubartoota ormaa fuudhuudhaan
waan akka malee hamaa kana hunda hojjettanii Waaqa keenyaaf amanamuu diddan
dhaga'uu qabnaa?"
28 Ilmaan Yooyaadaa ilma Eliyaashiib lubicha ol aanaa sanaa keessaa tokko dhirsa
intala Sanbalaax namicha Hooroon ture. Anis of biraa isa nan ari'e.

29 Yaa Waaqa koo ati isaan yaadadhu; isaan lubummaa, kakuu lubummaatii fi
Lewwotaa xureessaniiruutii.

30 Kanaafuu ani waan alaa dhufe hunda irraa lubootaa fi Lewwota qulqulleessee
akka tokkoon tokkoon namaa hojii ofii isaa hojjetuuf hojiitti isaan nan ramade.
31 Akkasumas kennaa qoraaniitii fi kennaa mataa midhaanii kan yeroo murtaa'etti
dhi'eeffamuuf haala nan mijeesse.

Yaa Waaqa koo ati arjummaadhaan na yaadadhu.

# Kitaaba Asteer

*Ulfinni Waashtiin Mootittiin Taayitaa Irraa Buute*

1 Wanni bara mootummaa Ahashweroos keessa ta'e kanaa dha: Ahashweroos
kun Hindiidhaa jalqabee hamma Itoophiyaatti kutaalee biyyaa 127 bulchaa ture;
2 yeroo sanatti Ahashweroos Mootichi, Suusaa magaalaa guddoo sana keessa teessoo
mootummaa isaa irra taa'ee bulchaa ture; 3 innis bara mootummaa isaa keessaa
waggaa sadaffaatti namoota isaa bebeekamoo fi qondaaltota isaa hundumaaf cidha
guddaa tokko qopheesse. Hooggantoonni waraana Faaresii fi Meedee, ilmaan
moototaa fi namoonni bebeekamoon kutaa biyyaa achi turan.

4 Innis bultii 180 guutuu qabeenya mootummaa isaa guddaa, miidhagummaa fi
ulfina jabina isaa gad baasee argisiisaa ture. 5 Yeroo guyyoonni kunneen darbanitti
mootichi saba gamoo Suusaa keessa jiraatu xinnaa fi guddaa hundaaf oobdii iddoo
biqiltuu masaraa mootii keessatti cidha guyyaa torba turu qopheesse. 6 Iddoon
biqiltuu sunis golgaa quncee talbaa irraa hojjetame adii fi cuquliisa, kirrii adii
fi diimaa dhiilgeedhaan qubeelaa meetii kan utubaawwan dhagaa akka cabbiitti
hidhame tokko qaba ture. Sireewwan dinkiin kanneen warqee fi meetii irraa
hojjetamanis lafa dhagaa diimaadhaan, dhagaa akka cabbiitiin, lula bifa adda
addaa qabuu fi dhagaawwan gati jabeeyyiidhaan miidhagfamee hafame irra ture.
7 Dhugaatiinis xoofoo warqeetiin namaaf dhi'eeffame. Tokkoon tokkoon xoofoo
sanaas gosa adda addaa ture; daadhiin wayiniis akkuma arjummaa mootichaatti
akka malee baay'ee ture. 8 Akka tokkoon tokkoon keessummaa akkuma fedhetti
dhuguuf mootichi eeyyamee ture; akka tokkoo tokkoo namaatiif waan inni barbaade
dhi'eessaniifis mootichi warra daadhii wayinii dhi'eessan hunda ajajee tureetii.

9 Waashtiin Mootittiinis masaraa mootummaa Ahashweroos Mootichaa keessatti
dubartootaaf cidha qopheessite.

10 Guyyaa torbaffaatti Ahashweroos Mootichi yeroo daadhii wayinii dhugee
gammadetti xu'aashiiwwan isa tajaajilan torban jechuunis Mihuumaan, Biztaa'aa,
Harboonaa, Bigtaa'a, Abaagtaa, Zeetaarinii fi Karkas 11 akka isaan Waashtiin
mootittii akka isheen namootaa fi qondaaltotatti barreedina ishee argisiiftuuf gonfoo
mootummaa isheetti kaa'anii fuula isaa duratti dhi'eessan ajaje; isheen akka malee
bareedduu turteetii. 12 Garuu yeroo ergamoonni sun ergaa mootichaa itti himanitti
Waashtiin Mootittiin dhufuu didde. Kana irratti mootichi akka malee dheekkamee
aariidhaan gubate.

13 Sababii waan seeraatii fi murtii qajeelaa irratti hayyootaan mari'achuun bartee
mootichaa ta'eef inni namoota ogeeyyii waan baraa beekan 14 kanneen mootichatti
aananiin mari'ate; isaanis Karshenaa, Sheetaar, Adimaataa, Tarshiish, Meres,
Marseenaa fi Memuukaa qondaaltota Faaresii fi Meedee torban mootichaan walitti
dhi'eenya qaban kanneen mootummaa sana keessatti iddoo ol aanaa qabanii dha.

15 Innis, "Akka seeraatti wanti nu Waashtiin mootittii gochuu qabnu maali?
Isheen ajaja Ahashweroos Mootichaa kan xu'aashiiwwan isheetti geessan sanaaf hin
ajajamneetii" jedhee isaan gaafate.

16 Memuukaan akkana jedhee fuula mootichaatii fi fuula namoota bebeekamoo du-
ratti deebii kenne; "Waashtiin mootittiin Mooticha qofatti utuu hin ta'in qondaaltota
hundattii fi namoota kutaalee biyyaa Ahashweroos Mootichaa hundatti balleessaa
hojjette. 17 Wanni mootittiin goote kun dubartii hunda biratti beekamee isaan,
'Ahashweroos Mootichi akka Waashtiin Mootittiin fuula isaa duratti dhi'eeffamtu

ajajee ture; isheen garuu dhaquu didde' jedhanii dhirsoota isaanii tuffatuutii.
18 Guyyuma har'aa kana iyyuu dubartoonni Faaresii fi Meedee bebeekamoon warri
gocha mootittii kana dhaga'an qondaaltota mootichaa hundaaf waanuma akkasii
deebisu. Tuffii fi lola dhuma hin qabnetu uumama.

19 "Kanaafuu yoo wanni kun mooticha gammachiise akka Waashtiin lammata
fuula Ahashweroos Mootichaa duratti hin dhi'eeffamneef inni labsii mootummaa
haa labsu; labsiin sunis seera Faaresii fi Meedee kan diigamuu hin dandeenye
sana keessatti haa barreeffamu. Mootichi amma illee sadarkaa ulfinaa kan isheen
mootummaa keessatti qabdu dubartii biraa kan ishee caaltuuf haa kennu. 20 Yoos
yommuu labsiin mootichaa guutummaa mootummaa isaa keessatti labsamutti
dubartoonni hundinuu xinnoo fi guddoon dhirsoota isaaniitiif ulfina kennu."

21 Mootichii fi qondaaltonni isaa gorsa kanatti ni gammadan; kanaafuu mootichi
yaada Memuukaan dhi'eesse sana hojii irra oolche. 22 Innis biyyoota mootummaa
hundatti, tokkoo tokkoo kutaalee biyyaatiif qubeedhuma isaaniitiin, akkasumas
tokkoo tokkoo sabaatiif afaanuma isaaniitiin xalayoota ergee akka dhiirri hundi
bulchaa mana ofii isaa ta'u afaan gosa hundaatiin labse.

# 2

*Asteer Niitii Mootii Taate*

1 Ahashweroos Mootichi erga aariin isaa qabbanaa'ee booddee waan Waashtiin
gootee fi labsii inni waa'ee ishee labse ni yaadate. 2 Kana irrattis tajaajiltoonni
mootichaa akkana jedhanii yaada dhi'eessan; "Dubarran babbareedoon mootichaaf
haa barbaadaman. 3 Akka isaan kutaalee biyyaa mootichaa hunda keessaa dubarran
babbareedoo hunda gara Suusaa magaalaa guddoo iddoo dubartoonni jiraatanitti
fidaniif mootichi itti gaafatamtoota haa muudu; isaanis Heegaayi xu'aashii mootichaa
itti gaafatamaa dubartoota sana jalatti haa ajajaman; dubarran sanaafis kunuunsi
miidhaginaa haa godhamu. 4 Ergasiis durbi mooticha gammachiiftu iddoo Waashtiin
buutee niitii mootii haa taatu." Gorsi kunis mooticha ni gammachiise; innis akkuma
jedhame sana godhe.

5 Yeroo sanatti gosa Beniyaam keessaa namichi Yihuudaa ilmi Yaa'iir, ilmi Shime'ii,
ilmi Qiish kan Mordekaayi jedhamu tokko Suusaa magaalaa muummittii keessa
jiraata ture; 6 innis warra Yehooyaakiin mooticha Yihuudaa wajjin Yerusaalemii
Nebukadnezar mooticha Baabiloniin booji'amanii fudhataman keessaa tokko ture.
7 Mordekaayis, durbii Hadasaa jedhamtu kan sababii isheen abbaa fi haadha hin
qabneef ofitti fudhate tokko qaba ture. Durbi Asteer jedhamtee beekamtu kun
dhaabaa fi bifaan jaallatamtuu turte; yeroo abbaa fi haati ishee du'anitti Mordekaayi
ofitti fudhatee akkuma intala ofii isaatti guddifate.

8 Yeroo ajajnii fi labsiin mootichaa dhaga'ametti dubarran hedduun gara Suusaa
magaalaa gudditiitti fidamanii harka Hegeetti kennaman. Asteeris gara masaraa
mootichaatti geeffamtee Heegaayi itti gaafatamaa dubartootaa sanatti imaanaa
kennamte. 9 Durbi sunis isa gammachiiftee fuula isaa duratti fudhatama argatte.
Innis yommusuma dibata miidhagina isheetiif ta'uu fi nyaata addaa kenneef.
Dubartoota ishee tajaajilan kanneen masaraa mootichaa keessaa filataman torbas
isheedhaaf ramade; ishee fi tajaajiltoota ishee sana gara mana dubartootaa kan mana
hunda caalaa filatamaa ta'eetti geesse.

10 Waan Mordekaayi akka isheen hin himne ishee dhowweef Asteer saba isheetii
fi maalummaa maatii ishee hin himne. 11 Mordekaayis haala Asteer keessa jirtuu
fi waan ishee irra ga'e beekuudhaaf guyyuma guyyaadhaan fuula oobdii mana
dubartootaa dura jiru sana irra deddeebi'aa ture.

[12] Durbi tokko utuu dabareen isheen itti fuula Ahashweroos Mootichaa duratti
dhi'eeffamtu hin ga'in dura akkuma seera dubartootaaf kaa'ame sanaatti kunuunsa
miidhaginaa kan ji'a kudha lamaa fixuu qabdi ture; isheenis ji'a ja'a zayitii
qumbiitiin, ji'a ja'a immoo shittoo fi dibata garaa garaatiin miidhagfamuu qabdi
ture. [13] Haalli itti durbi tokko mooticha bira dhaqxu akkana ture: Wanni isheen
mana dubartootaatii fudhattee gara masaraa mootichaa dhaquu feetu kam iyyuu ni
kennamaaf ture. [14] Isheenis galgala achi dhaqxee ganama immoo gara kutaa mana
dubartootaa kan harka Sha'asgaazi xu'aashii itti gaafatamaa saajjatoowwan sana jala
jiru kaaniitti deebiti turte; yoo mootichi itti gammadee maqaadhaan waame malee
isheen gara mootichaatti hin deebitu turte.
[15] Yommuu dabareen Asteer intalli Abiihaayil obboleessa abbaa Mordekaayi kan
Mordekaayi akkuma intala ofii isaatti guddifate sun itti mooticha bira dhaqxu ga'etti
isheen waan Heegaayi xu'aashiin mootichaa inni itti gaafatamaa mana dubartootaa
ture sun gorse malee waan tokko illee hin gaafanne. Asteeris fuula nama ishee
argu hundaa duratti fudhatama argatte. [16] Isheenis bara mootichaa keessa waggaa
torbaffaa ji'a kurnaffaa Teebeeti jedhamu keessa gara mana jireenyaa Ahashweroos
Mootichaatti dhi'eeffamte.
[17] Mootichis dubartoota kaan hunda caalaa Asteerin jaallate; isheenis dubarran
qulqulluu kaan hunda caalaa fuula isaa duratti surraa fi fudhatama argatte.
Kanaafuu inni gonfoo mootummaa mataa ishee irra kaa'eefii qooda Waashtiin ishee
mootittii taasise. [18] Ergasiis mootichi ulfina Asteeriitiif jedhee qondaaltota isaatii
fi tajaajiltoota isaatiif cidha guddaa qopheesse. Innis ayyaana kana guutummaa
kutaalee biyyaa keessatti labse; akkuma arjooma mootiitti kennaas kenne.

### *Mordekaayi Mala Ifatti Baasuu Isaa*

[19] Yommuu dubarran qulqulloonni sun yeroo lammaffaa walitti qabamanitti
Mordekaayi karra mootichaa dura taa'aa ture. [20] Asteer garuu akkuma Mordekaayi
ishee gorse sanatti maalummaa maatii isheetii fi saba ishee hin himne; Asteer
akkuma yeroo inni ishee guddise sanaatti ajaja Mordekaayi eegaa turteetii.
[21] Yeroo Mordekaayi karra mootichaa dura taa'aa turetti qondaaltonni mootichaa
warri balbala eegaa turan lamaan jechuunis Bigtaanaa fi Tereshi aaranii Ahash-
weroos Mooticha ajeessuuf malatan. [22] Mordekaayi garuu waa'ee mala kanaa beekee
Asteer Mootittiitti hime; Asteer immoo maqaa Mordekaayiin waan kana mootichatti
himte. [23] Yeroo wanni sun qoratamee dhugaa ta'ee argametti qondaaltonni sun
lamaanuu muka irratti fannifaman. Wanni kun hundinuu fuula mootichaa duratti
kitaaba seenaa keessatti barreeffame.

# 3

### *Haamaan Yihuudoota Balleessuuf Malate*

[1] Waan kanneen booddee Ahashweroos Mootichi Haamaan ilma Hamedaataa
namicha biyya Agaag ol ol qabuudhaan teessoo qondaaltota kaanii hunda caalu
kenneefii isa kabaje. [2] Qondaaltonni mootichaa warri karra eegan hundi jilbeen-
fatanii Haamaaniif ulfina kennan; mootichi waa'ee isaa waan kana ajajee tureetii.
Mordekaayi garuu hin jilbeenfanne yookaan ulfina isaaf hin kennine.
[3] Qondaaltonni mootichaa warri karra mootichaa dura turan, "Ati maaliif ajaja
mootichaa eeguu didda?" jedhanii Mordekaayiin gaafatan. [4] Isaan guyyuma
guyyaadhaan isatti himaa turan; inni garuu isaan dhaga'uu dide. Kanaafuu isaan
sababii Mordekaayi akka nama gosa Yihuudaa ta'e isaanitti hime tureef dubbiin isaa
kun akka maal ta'uu qabu beekuudhaaf waan kana Haamaanitti himan.
[5] Haamaan akka Mordekaayi isaaf hin jilbeenfatin yookaan ulfina hin kenniniif
arginaan akka malee aare. [6] Haamaanis eenyummaa saba Mordekaayi beeknaan

Mordekaayiin qofa ajjeesuu ni tuffate. Qooda kanaa Haamaan saba Mordekaayi hunda jechuunis Yihuudoota mootummaa Ahashweroos guutuu keessa jiraatan fixuuf karaa barbaadaa ture.

7 Isaanis waggaa kudha lammaffaa bara Ahashweroos Mootichaa keessa ji'a jalqabaa ji'a Niisaan jedhamu keessa guyyaa fi ji'a filachuudhaaf fuula Haamaan duratti *Fuur* jechuunis ixaa buusan. Ixaan sun ji'a kudha lammaffaa jechuunis ji'a Adaar irra bu'e.

8 Haamaanis Ahashweroos Mootichaan akkana jedhe; "Uummanni tokko saba kutaalee biyyaa mootummaa keetii keessa jiran hunda gidduu faffaca'eera; duudhaan uummata kanaa duudhaa saba kaanii hundaan adda; isaan seera moootichaa hin kabajan; kanaafuu mootichi uummata kanaaf obsa qabaachuun hin malu. 9 Yoo
wanni kun mooticha gammachiise saba kana balleessuudhaaf labsiin tokko haa ba'u; anis warra waan kana hojjetaniif meetii taalaantii kuma kudhan mankuusa qabeenya moootichaatti nan galcha."

10 Kanaafuu mootichi qubeelaa chaappaa isaa quba ofii irraa baasee Haamaan ilma
Hamedaataa namicha biyya Agaag, diina Yihuudootaa sanatti kenne. 11 Mootichis
Haamaaniin, "Maallaqnis, sabni sunis sitti kennameeraatii akkuma feete godhi" jedhe.

12 Guyyaa kudha sadaffaa ji'a jalqabaatti barreessitoonni mootichaa walitti waamaman. Isaanis waan Haamaan ajaje sana hunda arfii tokkoo tokkoo kutaa biyyaatiin, afaan saba hundaatiinis gara biyya bulchitoota mootichaatti, bulchitoota tokkoo tokkoo kutaalee biyyaatii fi gara gurguddoota saba adda addaatti barreessan. Wanni kunis maqaa Ahashweroos Mootichaatiin barreeffamee, qubeelaa chaappaa isaatiin
mallatteeffame. 13 Xalayoonni akka Yihuudoonni hundi dargaggoonnii fi maanguddoonni, dubartoonnii fi ijoolleen xixinnoon guyyuma tokkotti jechuunis guyyaa kudha sadaffaa ji'a kudha lammaffaatti, ji'a Adaar jedhamu keessa ajjeefaman, akka barbadeeffamanii fi lafa irraa balleeffaman, akka qabeenyi isaaniis saamamu
gara kutaalee biyya mootichaa hundaatti ajajaan ergamootaan ergaman. 14 Akka
sabni hundi beekee guyyaa sanaaf qophaa'uufis garagalchi barreeffama sanaas akka seeraatti kutaalee biyyaa hunda keessatti saba hundatti labsamuu qaba ture.

15 Ergamoonni sun ajaja mootichaatiin ariitiidhaan deeman; labsiin sunis Suusaa magaalaa guddittii keessatti labsame. Mootichi fi Haamaan waa dhuguudhaaf taa'an; magaalaan Suusaa garuu ni jeeqamte.

# 4

### *Mordekaayi Gargaarsa Asteer Gaafate*

1 Mordekaayi yeroo waan hojjetame sana hunda beeketti uffata isaa tarsaasee, wayyaa gaddaa uffatee, daaraa ofitti firfirsee, sagalee guddaadhaan wawwaachaa
hiqqifatees boo'aa gara walakkaa magaalaatti gad ba'e. 2 Inni garuu sababii namni
uffata gaddaa uffate tokko iyyuu akka ol seenu hin eeyyamamneef hamma karra
moootichaa qofatti deeme. 3 Kutaalee biyyaa hunda iddoo ajajnii fi labsiin mootichaa ga'etti gaddi guddaan, soomni boo'ichii fi wawwaannaan Yihuudoota gidduu ture; baay'een isaanii uffata gaddaa uffatanii daaraa keessa ciisan.

4 Yeroo dubartoonni tajaajiltoonni Asteerii fi xu'aashiiwwan dhufanii waa'ee Mordekaayi isheetti himanitti Asteer akka malee gaddite. Isheenis qooda uffata gaddaa wayyaa inni uffatu ergiteef; inni garuu isaan harkaa fudhachuu dide.
5 Kana irratti Asteer xu'aashiiwwan mootichaa keessaa Hataak isa ishee tajaajiluuf ramadame sana waamtee akka inni Mordekaayi bira deemee, rakkoo uumamee fi rakkoon sun maaliif akka uumame beekuuf ajajje.

6 Kanaafuu Hataak gara oobdii magaalattii kan karra mootichaa duraa sanaatti
Mordekaayiitti ba’e. 7 Mordekaayi waan isa irra ga’e hunda, maallaqa Haamaan
Yihuudoota balleessuudhaaf mankuusa qabeenya mootichaatti galchuuf waadaa gale
isatti hima. 8 Akkasumas Mordekaayi akka inni Asteeritti argisiisee isheedhaaf ibsuuf
garagalcha barreeffama labsii kan isaan balleessuudhaaf Suusaa keessatti labsame
sana isatti kenne; akka inni akka isheen mooticha bira dhaqxee itti boossee saba
isheetiif araara kadhattu itti himuufis isa ajaje.
9 Hataak deebi’ee waan Mordekaayi jedhe Asteeritti hime. 10 Asteer immoo akka
inni akkana jedhee Mordekaayiitti himu isa ajajje; 11 “Qondaaltonni mootichaa hundii
fi sabni kutaalee biyyaa mootichaa akka mootichi yoo namni kam iyyuu dhiiras
ta’u dubartiin utuu hin waamamin kutaa manaa isa gara keessaa ol seenee fuula
mootichaa duratti dhi’aate akka mootichi seera tokko qofa qabu jechuunis akka
ajjeefamu ni beeku. Namni tokko yoo mootichi bokkuu mootummaa kan warqee
sana diriirseef qofa ajjeefamuu oola. Ani mataan koo iyyuu guyyoota soddomman
kana keessaa akkan fuula mootichaa duratti dhi’aadhuuf waamamee hin beeku.”
12 Yommuu dubbiin Asteer Mordekaayiitti himametti, 13 inni akkana jedhee deebii
kana erge: “Ati sababii mana mootichaa keessa jirtuuf Yihuudoota hunda keessaa
waan ati qofti baraaramtu hin se’in. 14 Yoo ati yeroo kanatti cal’ifte gargaarsaa fi
furamni Yihuudootaa iddoo biraatii ni dhufa; atii fi manni abbaa keetii garuu ni
baddu. Maaltu beeka? Ati taayitaa mootummaa qabachuun kee yeroo akkanaatiif
ta’aatii.”
15 Kana irratti Asteer akkana jettee deebii kana Mordekaayiitti ergite: 16 “Dhaqiitii
Yihuudoota Suusaa keessa jiran hunda walitti qabiitii naa soomaa. Bultii sadii,
guyyaa yookaan halkan illee homaa hin nyaatinaa yookaan homaa hin dhuginaa.
Anii fi dubartoonni tajaajiltoonni koo iyyuu akkuma keessan ni soomna. Yoo akkas
ta’e wanni kun seeraan ala ta’u illee ani gara mootichaa nan dhaqa. Ani yoon bades
nan bada.”
17 Kanaafuu Mordekaayi deemee waan Asteer isa ajajje hunda hojii irra oolche.

# 5

*Waan Asteer Mooticha Kadhatte*

1 Guyyaa sadaffaatti Asteer uffata ishee kan mootummaa uffatee dhaqxee oobdii
masaraa mootichaa kan gara keessaa irra fuula galma mootichaa dura dhaabatte.
Mootichi immoo galma sana keessa gara balbalaatti garagalee teessoo mootummaa
isaa irra taa’ee ture. 2 Mootichis utuu Asteer Mootittiin oobdii keessa dhaabachaa
jirtuu argee isheetti gammadee bokkuu warqee kan harkatti qabatee ture sana isheef
diriirse. Kanaafuu Asteer itti dhi’aattee fiixee bokkuu sanaa tuqxe.
3 Mootichi, “Yaa Asteer Mootittii maal siif godhu? Maal barbaadda? Walakkaa
mootummaa koo illee taanaan siif ni kennama” jedheen.
4 Asteeris, “Yoo wanni kun mooticha gammachiise, mootichi gara cidha ani isaaf
qopheesse sanaa Haamaan wajjin har’a haa dhufu” jettee deebifteef.
5 Mootichis, “Akka waan Asteer jette sana goonuuf dafaatii Hamaa fidaa” jedhe.
Kanaafuu mootichii fi Haamaan gara cidha Asteer qopheessite sanaa dhaqan.
6 Utuma daadhii wayinii dhuganuu mootichi amma illee akkana jedhee Asteerin
gaafate; “Mee wanni ati kadhattu maal? Wanni sun siif kennama. Gaaffiin kee maali?
Walakkaa mootummaa koo illee taanaan siif kennama.”
7 Asteeris akkana jettee deebifteef; “Wanni ani kadhadhuu fi gaaffiin koo kanaa dha:
8 Yoo ani fuula mootichaa duratti surraa argadhee mootichis kadhannaa koo fudhatee
waan ani isa gaafadhe naaf guutuun isa gammachiise, mootichii fi Haamaan cidha
ani isaaniif qopheessu irratti bor haa argaman. Ani ergasii gaaffii mootichaa nan
deebisa.”

### *Haamaan Mordekaayiitti Aaruu Isaa*

[9] Gaafas Haamaan gammadee itti tolee gad ba'e. Inni garuu karra moootichaa duratti
Mordekaayiin argee yommuu akka inni isaaf hin ka'in yookaan isa hin sodaatin
hubatetti Mordekaayiitti akka malee aare. [10] Ta'u illee Haamaan of qabee mana
isaatti gale.
Ergasiis michoota isaatii fi niitii isaa Zeresh walitti qabe; [11] Haamaanis qabeenya
isaa guddaa sanaan, ilmaan isaa hedduu sanaan akkasumas ulfina mootichi isaaf
kenne hundaa fi akkaataa itti mootichi qondaaltota isaatii fi tajaajiltoota isaa kaanii
olitti isa guddiseen isaanitti of jaje. [12] Haamaan itti fufee akkana jedhe; "Kana qofa
miti; namni Asteer Mootittiin akka mooticha wajjin gara cidha qopheessite sanaa
dhufu waamte anuma qofa. Boris akkasuma mooticha wajjin na affeerteerti. [13] Ta'us
wanni kun hundinuu utuu ani Mordekaayi Yihuudicha isaa karra moootichaa dura
taa'u arguu na hin gammachiisu."
[14] Niitiin isaa Zeresh fi michoonni isaa hundinuu, "Muka itti nama fannisan kan
dhundhuma shantama ol dheeratu dhaabiitii akka Mordekaayi bor ganama irratti
fannifamu mooticha gaafadhu. Ergasiis mooticha wajjin gara cidha sanaa dhaqii
gammadi" jedhaniin. Yaadni kun Haamaanin gammachiise; innis muka sana dhaabe.

# 6

### *Mordekaayi Ulfina Argate*

[1] Halkan sana mootichi rafuu hin dandeenye; kanaafuu inni akka isaan kitaaba
seenaa kan waa'ee mootummaa isaa barreeffame isaaf dubbisan ni ajaje. [2] Kitaaba
sana keessattis Mordekaayi akka Bigtaanaa fi Tereshi xu'aashiiwwan balbala eegan
kanneen Ahashweroos Mooticha ajjeesuuf mari'atan sana lamaan saaxilee ture
barreeffamee argame.
[3] Mootichis, "Yoos Mordekaayi sababii waan kanaatiif ulfina yookaan kabaja maalii
argate ree?" jedhee gaafate.
Tajaajiltoonni isaa immoo, "Wanni tokko iyyuu hin godhamneef" jedhanii deebisan.
[4] Mootichis, "Eenyutu oobdii kana keessa jira?" jedhee gaafate. Yeroo sana
Haamaan waa'ee Mordekaayiin muka dhaabe sana irratti fannisuu moootichatti
himuuf jedhee oobdii masaraa mootummaa isa gara alaa seenee ture.
[5] Tajaajiltoonni moootichaa, "Haamaanitu oobdii keessa dhaabatee jira" jedhanii
deebisan.
Mootichis, "Isa ol galchaa" jedhee ajaje.
[6] Mootichis yeroo Haamaan ol galetti, "Nama mootichi kabajuu barbaaduuf maaltu
godhamuufii qaba?" jedhee isa gaafate.
Haamaanis, "Namni mootichi na caalchisee kabaju eenyu?" jedhee ofi keessatti
yaade. [7] Kanaafuu Haamaan akkana jedhee moootichaaf deebise; "Nama mootichi
kabajuu jaallatuuf, [8] uffata mootummaa kan mootichi uffatuu fi farda mootummaa
kan mootichi yaabbatu haa fidan; fardi gonfoon mootii mataatti kaa'ameef haa
dhufuuf. [9] Ergasii uffannii fi fardi sun qondaaltota moootichaa kanneen qondaaltota
hunda caalaa beekamoo ta'an keessaa isa tokkotti imaanaan haa kennamuuf; isaan
immoo nama mootichi ulfina kennuufii barbaadu sanatti uffata sana haa uffisan;
farda yaabbachiisaniis, 'Wanni nama mootichi ulfina kennuufii barbaaduuf godhamu
kana!' jedhanii labsaa daandiiwwan magaalattii irra fuula isaa dura haa deeman."
[10] Mootichis akkana jedhee Haamaanin ajaje; "Dafii dhaqii uffataa fi farda sana
fuudhiitii akkuma jette sana Mordekaayi Yihuudicha karra mootii dura taa'u sanaaf
godhi. Waan jette sana keessaa tokko illee hin hambisin."
[11] Kanaafuu Haamaan dhaqee uffataa fi farda sana fuudhe. Innis uffata sana
Mordekaayiitti uffisee fardas yaabbachiisee, "Wanni nama mootichi ulfina kennuufii

barbaaduuf godhamu kanaa dha!" jedhee labsaa daandii magaalaa irra fuula isaa dura deeme.
12 Ergasii Mordekaayi gara karra moottichaatti deebi'e. Haamaan garuu gaddaan
mataa haguuggatee ariitiidhaan manatti gale; 13 waan isa irra ga'e hundas niitii isaa
Zeresh fi michoota isaa hundatti hime.
Gorsitoonni isaatii fi niitiin isaa Zosaaraan, "Sababii Mordekaayi inni kufaatiin kee fuula isaa duratti jalqabe sun sanyii Yihuudaa ta'eef ati isaan mormuu hin dandeessu;
ati dhugumaan ni badda!" jedhaniin. 14 Utuma isaan isa wajjin dubbachaa jiranuu
xu'aashiiwwan mootichaa dhufanii gara cidha Asteer qopheessitee turte sanaatti Haamaan ariifachiisan.

# 7

*Haamaan Fannifame*

1 Mootichii fi Haamaan gara cidha Asteer Mootittiin qopheessite sanaa dhaqan;
2 utuma guyyaa lammaffaa sanatti daadhii wayinii dhugaa jiranuu, mootichi akkana jedhee gaafate; "Yaa Asteer Mootittii wanni ati kadhattu maal? Wanni sun siif kennama. Gaaffiin kee maal? Walakkaa mootummaa koo illee taanaan wanni ati gaafattu siif kennama."
3 Asteer Mootittiin akkana jettee deebifte; "Yaa mooticha, yoo ani fuula kee duratti fudhatama argadhee jiraadhe, yoo wanni kunis mooticha gammachiise, lubbuu koo naaf oolchi; kadhaan koo kanuma. Saba koo illee naaf baraar; gaaffiin koos kanuma.
4 Anii fi sabni koo ajjeefamuutti, barbadeeffamuu fi lafa irraa balleeffamuutti gurguramneerraatii. Nu utuu dhiiraa fi dubartiin garbummaa qofatti gurguramne ta'ee, ani silaa nan cal'isan ture; rakkinni akkasii mooticha jeequuf sababii ga'aa mitiitii."
5 Ahashweroos Mootichis, "Inni eenyuu? Namni waan akkasii gochuuf ija jabaate sun eessa jira?" jedhee Asteer Mootittii gaafate.
6 Asteer immoo, "Amajaajii fi diinni sun Haamaan namichuma jal'aa kanaa dha" jette.
Kana irratti Hamaan fuula moottichaatii fi mootittii duratti akka malee rifate.
7 Mootichis aaree ka'ee daadhii wayinii isaa dhiisee gad ba'ee iddoo biqiltuu masaraa mootummaa seene. Haamaan garuu akka mootichi isa balleessuudhaaf kutate beekkatee lubbuu ofii oolfachuudhaaf Asteer Mootittii kadhachuudhaaf duubatti hafe.
8 Yeroo mootichi iddoo biqiltuu masaraa mootummaatii gara galma cidhaatti deebi'etti Haamaan siree Asteer itti irkattee turte irratti gombifamee ture.
Mootichis, "Inni inumaa iyyuu manuma koo keessatti utuma isheen na wajjin jirtuu ishee qabataa?" jedhee dubbate.
Akkuma dubbiin kun afaan moottichaatii ba'een isaan fuula Haamaan haguugan.
9 Ergasiis xu'aashiiwwan mooticha tajaajilan keessaa Harboonaan akkana jedhe; "Mukni dhundhuma shantama ol dheeratu tokko mana Haamaa bira dhaabameera. Muka kanas Haamaanitu Mordekaayi isa mooticha gargaaruudhaaf dubbate sana itti fannisuudhaaf dhaabe."
Mootichis, "Achi irratti isa fannisaa!" jedhe. 10 Kanaafuu isaan muka inni
Mordekaayiif qopheesse sana irratti Haamaanin fannisan. Ergasiis aariin mootichaa ni qabbanaa'e.

# 8

*Labsii Yihuudoota Baraaruuf Labsame*

1 Gaafuma sana Ahashweroos Mootichi qabeenya Haamaan isa diina Yihuudootaa
ture sanaa Asteer Mootittiif kenne. Asteer akka inni fira ishee ta'e waan

mootichatti himtee turteef Mordekaayi fuula mootichaa duratti dhi’aate. 2 Mootichis
qubeelaa chaappaa isaa kan Haamaan irraa deebisee fudhate sana ofi irraa baasee
Mordekaayiif kenne. Asteeris qabeenya Haamaan irratti Mordekaayiin muudde.

3 Asteer miilla isaa irratti kuftee boo’aa ammas mooticha kadhatte. Isheenis akka
inni karoora jal’aa kan Haamaan namichi biyya Agaag sun Yihuudootatti baase sana
fashaleessuuf isa kadhatte. 4 Mootichis bokkuu warqee Asteeriif diriirsinaan isheen
kaatee fuula isaa dura dhaabatte.

5 Isheen akkana jette; “Yoo wanni kun mooticha gammachiise, yoo ani fuula
mootichaa duratti surraa argadhee jiraadhe, yoo wanni kun qajeelaa isatti fakkaatee
fi yoo inni natti gammade, xalayaa Haamaan ilmi Hamedaataa namichi biyya Agaag
sun Yihuudoota kutaalee biyyaa mootichaa hunda keessa jiraatan balleessuudhaaf
barreesse sana fashaleessuuf ajajni haa barreeffamu. 6 Ani utuun balaa saba koo irra
ga’u arguu akkamittin obsuu danda’a? Akkamittis badiisa maatii koo argee obsuu
danda’a?”

7 Ahashweroos Mootichis akkana jedhee Asteer Moototittii fi Mordekaayi Yihu-
udichaaf deebii kenne; “Sababii Haamaan Yihuudoota miidheef ani qabeenya
isaa Asteeriif kenneera; isaanis muka irratti isa fannisaniiru. 8 Sababii labsiin
maqaa mootichaatiin barreeffamee chaappaan qubeelaa mootichaa itti godhame
diigamuu hin dandeenyeef isin akkuma jaallatanitti waan Yihuudoota ilaalu maqaa
mootichaatiin barreessaatii chaappaa qubeelaa mootichaa itti chaappessaa.”

9 Barreessitoonni mootichaas yommusuma bultii digdamii sadaffaa ji’a sadaf-
faatti ji’a Siiwaan jedhamu keessa walitti waamaman. Isaanis ajaja Mordekaayi
hunda gara Yihuudoota, ergamoota, bulchitootaa fi namoota bebeekamoo kutaalee
biyyaa 127 kanneen biyya Hindiitii hamma Itoophiyaatti jiraatanitti barreessanii
ergan. Ajajni kunis arfii tokkoo tokkoo kutaalee biyyaatiin, afaan tokkoo tokkoo
sabaatiin akkasumas Yihuudootatti arfii fi afaanuma ofii isaaniitiin barreeffame.
10 Mordekaayis maqaa Ahashweroos Mootichaatiin xalayoota barreessee chaappaa
qubeelaa mootichaa itti chaappesse; xalayoota sanas abbootii fardaa kanneen
fardeen mootichaaf leenjifaman keessaa collee ta’an yaabbatanitti erge.

11 Labsiin mootichaa akka Yihuudoonni magaalaawwan hunda keessa jiraatan
walitti qabaman, akka of eeganii fi akka isaan humna waraana saba kamii iyyuu
yookaan biyya kamii iyyuu kan isaan, dubartoota isaaniitii fi ijoollee isaanii miidhu
akka ajjeesan, akka barbadeessanii fi lafa irraa balleessan akkasumas akka qabeenya
diinota isaanii saaman mirga kenneef. 12 Guyyaan akka Yihuudoonni kutaalee
biyya Ahashweroos Mootichaa hunda keessatti waan kana godhan murtaa’eefis bultii
kudha sadaffaa ji’a kudha lammaffaa, ji’a Adaar jedhamu keessa ture. 13 Garagalchi
labsii sanaas kutaalee biyyaa hunda keessatti akka seeraatti raabsamee sabni hundi
beekuu qaba ture; kunis akka Yihuudoonnis diinota isaanii haaloo ba’uuf gaafasitti
qophaa’aniif.

14 Ergamoonni fardeen mootichaa yaabbatan sunis ajaja mootichaatiin ariifatanii
gulufaa deeman. Labsiin sunis gamoo Suusaa keessatti labsame.

15 Mordekaayis uffata mootii kan bifa cuquliisaatii fi adii uffatee, gonfoo warqee
guddaa isaa kaa’atee wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame dhiilgee irraan uffatee
fuula mootichaa duraa ba’e. Magaalaan Suusaas gammaddee ililchite. 16 Yeroon sun
Yihuudootaaf ifa, gammachuu, ilillee fi yeroo ulfinaa ture. 17 Kutaalee biyyaatii fi
magaalaawwan hunda keessatti, lafa labsiin mootichaa ga’e hundatti Yihuudoonni
ilillee fi gammachuudhaan, nyaataa fi dhugaatiidhaan ni ayyaaneffatan. Namoonni
gosa kaanii hedduun sababii Yihuudoota sodaataniif Yihuudoota ta’an.

# 9

*Mo'annoo Yihuudootaa*

1 Bultii kudha sadaffaa ji'a kudha lammaffaatti, ji'a Adaar keessa labsiin mootichi
ajaje sun hojii irra ooluu qaba ture. Guyyaa kanatti diinonni Yihuudootaa isaan
mo'achuu abdatanii turan; amma garuu dubbiin garagalee Yihuudoonni warra
isaan jibban sana irratti ol aantummaa argatan. 2 Yihuudoonnis warra badiisa
isaanii hawwaa turan sana balleessuudhaaf magaalaawwan ofii isaanii kanneen
kutaa biyyaa Ahashweroos Mootichaa hunda keessatti argamanitti walitti qabaman.
Sababii namoonni saba kaanii hundinuu Yihuudoota sodaataniif namni tokko
iyyuu fuula isaanii dura dhaabachuu hin dandeenye. 3 Namoonni bebeekamoon
kutaalee biyyaa hundi, ergamoonni, bulchitoonnii fi qondaaltonni mootichaa sababii
Mordekaayiin sodaataniif Yihuudoota gargaaran. 4 Mordekaayi masaraa mootummaa
keessatti beekamaa ture; waa'een isaa kutaalee biyyaa guutuu ga'e; innis akka malee
jabaachaa deeme.
5 Yihuudoonni diinota isaanii hunda goraadeedhaan cicciranii ajjeesuudhaan
barbadeessanii warra isaan jibbanis akkuma barbaadan godhan. 6 Gamoo Suusaa
keessattis Yihuudoonni nama dhibba shan qalanii fixan. 7 Amma illee Paarshan-
daataa, Dalfoon, Asfaataa, 8 Phooraataa, Adaliyaa, Ariidaataa, 9 Paarmaashitaa,
Ariisayi, Ariidayii fi Wayizaataa ajjeesan; 10 isaan kunneen ilmaan Haamaan ilma
Hamedaataa namicha diina Yihuudootaa ture sanaa kurnanii dha. Yihuudoonni
garuu boojuu tokko illee hin tuqne.
11 Baay'inni namoota gamoo Suusaa keessatti ajjeefamaniis guyyuma sana
mootichatti himame. 12 Mootichis Asteer Mootittiidhaan akkana jedhe; "Yihuudoonni
namoota dhibba shanii fi ilmaan Haamaan kurnan gamoo Suusaa keessatti ajjeesanii
balleessaniiru. Kutaalee biyyaa mootichaa kanneen hafan keessatti maal godhan
laata? Amma wanni ati kadhattu maali? Wanni sun siif kennama. Gaaffiin kee
maali? Wanni sunis siif guutama."
13 Asteeris akkana jettee deebifte; "Yoo wanni kun mooticha gammachiise akka
Yihuudoonni Suusaa keessa jiran labsii har'aa kana bori illee hojii irra oolchaniif
eeyyama kennaniif; ilmaan Haamaan kurnanis muka irratti haa fannifaman."
14 Kanaafuu mootichi akka wanni kun raawwatamu ajaje. Labsiin tokko Suusaa
keessatti labsame; isaanis ilmaan Haamaan kurnan fannisan. 15 Yihuudoonni Suusaa
keessa jiraatan bultii kudha afuraffaa ji'a Adaaritti walitti qabamanii nama dhibba
sadii Suusaa keessatti fixan; garuu boojuu tokko illee hin tuqne.
16 Yeroo kanatti Yihuudoonni kutaalee biyya mootichaa keessatti hafan kaanis
mataa isaanii eeguu fi diinota isaanii irraa boqochuuf jedhanii walitti qabaman.
Isaanis jara keessaa nama kuma torbaatamii shan fixan; garuu boojuu tokko illee
hin tuqne. 17 Wanni kunis bultii kudha sadaffaa ji'a Adaar keessa ta'e; guyyaa kudha
afuraffaatti immoo boqotanii guyyaa sana guyyaa cidhaa fi gammachuu godhatan.

*Ayyaanni Furiim Ayyaaneffame*

18 Ta'us Yihuudoonni Suusaa keessa jiraatan guyyaa kudha sadaffaa fi kudha
afuraffaatti walitti qabaman; ergasii immoo guyyaa kudha shanaffaatti boqotanii
guyyaa sana guyyaa cidhaa fi gammachuu godhatan.
19 Sababiin Yihuudoonni baadiyyaa kanneen gandoota keessa jiraatan guyyaa
kudha afuraffaa ji'a Adaar akka guyyaa cidhaa fi gammachuutti, akka guyyaa itti
kennaa waliif kennaniittis ayyaaneffataniif kanuma.
20 Mordekaayis wantoota kanneen galmeessee Yihuudoota kutaalee biyya Ahash-
weroos Mootichaa keessa dhi'oo fi fagoo jiraatan hundatti xalayoota erge; 21 kunis
akka isaan waggaa waggaadhaan guyyaa kudha afuraffaa fi kudha shanaffaa ji'a
Adaar 22 akkuma yeroo itti Yihuudoonni diinota isaanii irraa boqonnaa argataniittii

fi akka ji'a itti gaddi isaanii gara gammachuutti, boo'ichi isaanii immoo gara kolfaatti
geeddarameetti ayyaaneffataniif. Innis akka isaan guyyoota sana akka guyyoota
cidhaa fi gammachuutti, akka guyyoota itti nyaata waliif kennanii hiyyeeyyiifis
kennaa kennaniitti ayyaaneffatanitti isaaniif barreesse.
23 Akkasiin Yihuudoonni akkuma Mordekaayi isaaniif barreessetti ayyaana ayyaan-
effachuu jalqaban sana itti fufuuf walii galan. 24 Haamaan ilmi Hamedaataa namichi
biyya Agaag diinni Yihuudoota hundaa sun Yihuudoota balleessuudhaaf isaanitti
yaadee akka isaan badanii fi barbadeeffamaniif ixaa *Fuur* jedhamu buusee tureetii.
25 Yeroo yaadni sun gurra mootichaa bu'etti mootichi akka yaadni jal'aan kan
Hamaan Yihuudootatti yaade sun matuma isaatti deebi'ee innii fi ilmaan isaa muka
irratti fannifamaniif barreeffamaan ajaja dabarse. 26 Kanaafuu guyyoonni sun jecha
*Fuur* jedhamu irraa Furiim jedhamanii moggaafaman. Sababii waan xalayaa kana
keessatti barreeffame hundaatii fi sababii waan arganiitii fi waan isaan irra ga'ee
tureetiif, 27 Yihuudoonni akka guyyoonni lamaan kunneen akkuma barreeffamettii fi
yeroo murteeffametti utuu addaan hin citin waggaa waggaadhaan ayyaaneffamaniif
bartee ofii isaanii, kan sanyiiwwan isaaniitii fi warra isaanitti dabalaman hundaa
godhanii dhaabbatan. 28 Guyyoonni kunneen dhaloota hunda keessatti, maatii
hundaan, kutaalee biyyaa hundaa fi magaalaa hunda keessatti yaadatamuu fi
kabajamuu qabu; guyyoonni Furiim kunneen Yihuudootaan kabajamuunis hafuu hin
qabu; yaadannoon guyyoota kanneeniis sanyii isaanii keessaa baduu hin qabu.
29 Kanaafuu Asteer Mootittiin intalli Abiihaayil sun Mordekaayi Yihuudicha
wajjin ta'anii xalayaa lammaffaa waa'ee Furiim dubbatu kana mirkaneessuudhaaf
aangoo guutuudhaan barreessan. 30 Mordekaayis Yihuudoota kutaalee biyyaa 127
kanneen mootummaa Ahashweroos keessa jiraatan hundatti dubbii hawwii nagaatii
fi qabbanaa barreessee erge. 31 Kunis akka guyyoonni Furiim kunneen akkuma
Mordekaayi Yihuudichii fi Asteer Mootittiin isaaniif labsanitti, akkuma isaanis
ofii isaaniitii fi sanyiiwwan isaaniitiif waa'ee soomaatii fi yeroo boo'icha isaanii
ilaalchisee dhaabbatanitti yeroo murtaa'etti ayyaaneffamuuf. 32 Labsiin Asteeris
seera waa'ee Furiim kana mirkaneesse; wanni kunis galmee keessatti barreeffame.

# 10

*Guddina Mordekaayi*

1 Ahashweroos Mootichi hamma qarqara galaanaatti bulchiinsa isaa guutuu irratti
gibira buuse. 2 Hojiin humnaa fi jabina isaa hundinuu, seenaa guddina Mordekaayi
kan mootichi itti ol isa guddise guutuu wajjin kitaaba seenaa mootota Meedee fi
Faares keessatti barreeffameera mitii? 3 Mordekaayi Yihuudichi sadarkaadhaan
nama Ahashweroos Mootichatti aanu ture; inni sababii uummata isaatiif waan
gaarii hojjetee fi sababii nageenya Yihuudoota hundaatiif falmeef obboloota isaa
Yihuudoota hedduu biratti ulfina guddaa qaba ture.

# Kitaaba Iyyoob

*Seensa*
1 Biyya Uuzi jedhamu keessa nama Iyyoob jedhamu tokkotu ture. Namichi kunis
nama hir'ina hin qabnee fi qajeelaa, nama Waaqa sodaatuu fi hammina irraa fagaate
ture. 2 Innis ilmaan torbaa fi intallan sadii qaba ture; 3 akkasumas hoolota kuma
torba, gaala kuma sadii, qotiyyoo cimdii dhibba shanii fi harroota dhibba shan,
tajaajiltoota hedduus qaba ture; innis namoota biyya Ba'a Biiftuu jiraatan hunda
keessaa nama guddaa ture.
4 Ilmaan isaas mana isaaniitti dabaree dabareedhaan cidha qopheessanii akka
isaan wajjin nyaatanii dhuganiif obboleettota isaanii sadan affeeru ture. 5 Erga
yeroon cidha sanaa raawwatamee booddee Iyyoob itti ergee ijoollee isaa waam-
sisuudhaan, "Tarii ijoolleen koo cubbuu hojjetanii garaa isaaniittis Waaqa abaarani-
iru ta'a" jedhee ganama barii waa'ee tokkoo tokkoo isaaniitiif aarsaa gubamu
dhi'eessuudhaan isaan qulqulleessa ture. Iyyoob yeroo hunda waan kana godha ture.

*Qorumsa Iyyoob Kan Jalqabaa*
6 Gaaf tokko yeroo ergamoonni Waaqayyoo fuula WAAQAYYOO duratti dhi'aachuuf
dhufanitti Seexannis isaan wajjin dhufe. 7 WAAQAYYOS seexanaan, "Ati Eessaa
dhufte?" jedhe.
Seexannis, "Ani lafa hunda irra jooraa, asii fi achis deddeebi'aa tureen dhufe"
jedhee WAAQAYYOOF deebise.
8 WAAQAYYOS Seexanaan, "Ati tajaajilaa koo Iyyoobin qalbeeffatteertaa? Namni isa
fakkaatu tokko illee lafa irra hin jiru; inni nama hir'ina hin qabnee fi qajeelaa, nama
Waaqa sodaatuu fi hammina irraa fagaatee dha" jedhe.
9 Seexanni immoo deebisee akkana jedhe, "Iyyoob akkasumaan Waaqa sodaataa?
10 Ati naannoo isaatti, warra mana isaa jiraatanii fi waan kan isaa ta'e hundatti dallaa
ijaarteerta mitii? Ati akka bushaayee fi loon isaa biyyicha guutaniif hojii harka isaa
eebbifteertaaf. 11 Garuu ati mee harka kee diriirsiitii waan inni qabu hunda dha'i;
inni dhugumaan ifaan ifatti si abaara."
12 WAAQAYYOS Seexanaan, "Kunoo, wanti inni qabu hundi si harka jira; isa garuu
qubaanuu hin tuqin" jedhe.
Sana booddee Seexanni fuula WAAQAYYOO duraa ba'ee deeme.
13 Gaaf tokko utuu ilmaanii fi intallan Iyyoob mana obboleessa isaanii isa
hangafaatti nyaachaa, daadhii wayinii dhugaa jiranuu, 14 ergamaan tokko gara Iyyoob
dhufee akkana jedhe; "Utuu qotiyyoon qotaa, harroonni immoo naannuma sana
dheedaa jiranuu, 15 namoonni Shebaa balaa buusanii isaan fudhatanii deeman.
Tajaajiltootas goraadeedhaan fixan; ana qofatu miliqee sitti himuuf dhufe!"
16 Utuma inni dubbachaa jiruu ergamaan biraa dhufee, "Ibiddi Waaqaa samiidhaa
bu'ee hoolotaa fi tajaajiltoota gubee fixe; ana qofatu miliqee sitti himuuf dhufe!"
jedhe.
17 Utuu inni dubbachaa jiruu ammas ergamaan biraa dhufee, "Kaldoonni garee
sadiitti qoodamanii gaalawwan kee irra yaa'anii isaan oofatanii deeman; tajaajil-
tootas goraadeedhaan fixan; ana qofatu miliqee sitti himuuf dhufe!" jedhe.
18 Utuma inni dubbachaa jiruu ergamaan biraa dhufee akkana jedheen; "Ilmaanii
fi intallan kee mana obboleessa isaanii isa hangafaatti nyaachaa, daadhii wayinii
dhugaa turan; 19 yeroo kanattis bubbee hamaan akka tasaa gammoojjiidhaa ka'ee

golee mana sanaa afran dha'e; manni sunis isaan irratti jigee dhuman; ana qofatu
miliqee sitti himuuf dhufe!"
20 Kana irratti Iyyoob uffata isaa tarsaasee mataa isaa haaddate. Lafatti gombi-
famee sagadee 21 akkana jedhe:

"Ani qullaa koon gadameessa haadha kootiitii ba'e;
qullaa koos nan deema.
Waaqayyotu kenne; Waaqayyotu fudhate;
maqaan Waaqayyoo haa eebbifamu."

22 Wantoota kanneen hunda keessatti Iyyoob hojii dogoggoraatiin Waaqa himachu-
udhaan cubbuu hin hojjenne.

# 2

### *Qorumsa Iyyoob Isa Lammaffaa*

1 Guyyaa biraas ergamoonni Waaqayyoo fuula Waaqayyoo duratti dhi'aachuuf dhu-
fan; Seexannis isaan wajjin fuula Waaqayyoo duratti dhi'aachuuf dhufe. 2 Waaqayyos
Seexanaan, "Ati eessaa dhufte?" jedhe.

Seexannis, "Ani lafa hunda irra jooree asii fi achis deddeebi'aa tureen dhufe"
jedhee Waaqayyoof deebise.

3 Waaqayyos Seexanaan akkana jedhe; "Tajaajilaa koo Iyyoobin qalbeeffatteertaa?
Namni isa fakkaatu tokko illee lafa irra hin jiru; inni nama hir'ina hin qabnee fi
qajeelaa, nama Waaqa sodaatuu fi hammina irraa fagaate dha. Ati akka ani sababii
tokko malee isa balleessuuf na kakaaftu iyyuu inni hamma ammaatti qajeelummaa
isaa cichee qabateera."

4 Seexannis deebisee akkana jedhe; "Gogaan gogaadhaaf! Namni lubbuu isaa
oolfachuuf jedhee waan qabu hunda ni kenna. 5 Garuu ati mee harka kee
diriirfadhuutii foonii fi lafee isaa rukuti; inni dhugumaan ifumaan ifatti si abaara."

6 Waaqayyos Seexanaan, "Kunoo inni si harka jira; lubbuu isaa garuu hin tuqin"
jedhe.

7 Kanaafuu Seexanni fuula Waaqayyoo duraa ba'ee Iyyoobin faana miilla isaatii
jalqabee hamma gubbee mataa isaatti madaa hamaadhaan rukute. 8 Iyyoobis ittiin
of hooquuf jedhee qiraacii fudhatee daaraa keessa taa'e.

9 Niitiin isaa, "Ati amma illee qajeelummaa kee cichitee qabatteertaa? Waaqa
abaariitii du'i!" isaan jette.

10 Inni immoo deebisee, "Ati akka dubartii gowwaa tokkootti dubbatte. Nu harka
Waaqaatii waan gaarii fudhanneerra; waan hamaa immoo fudhachuu hin qabnuu?"
jedhe.

Wantoota kanneen hunda keessatti Iyyoob waan dubbateen cubbuu hin hojjenne.

### *Michoota Iyyoob Sadan*

11 Michoonni Iyyoob sadan jechuunis Eliifaaz namni Teemaan, Bildaad namni
Shuhaatii fi Zoofaari namni Naa'imaataa yommuu waan Iyyoob irra ga'e hunda
dhaga'anitti rakkina isaa qoodachuu fi isa jajjabeessuudhaaf tokkummaan walii
galanii mana isaaniitii ba'an. 12 Yommuu fagootti isa arganitti isa beekuu hin
dandeenye; isaanis sagalee ol fudhatanii boo'an; uffata isaaniis tarsaasanii mataa
isaaniitti daaraa firfirfatan. 13 Ergasiis guyyaa torbaa fi halkan torba isa wajjin lafa
tataa'an. Isaan sababii dhiphinni isaa akka malee cimaa ta'uu isaa arganiif, namni
tokko iyyuu homaa isatti hin dubbanne.

# 3

*Dubbii Iyyoob*

1 Kana irratti Iyyoob afaan isaa banatee guyyaa itti dhalate abaare. 2 Innis akkana
jedhe:

*Iyyoob*

3 “Guyyaan ani itti dhaladhe haa badu;
halkan, ‘Ilmi dhalate!’ jedhame sunis haa badu.
4 Guyyaan sun haa dukkanaa’u;
Waaqni ol gubbaadhaa isa hin ilaalin;
ifnis itti hin ifin.
5 Dukkannii fi gaaddidduun guddaan isa haa dhaalan;
duumessi isa irra haa bu’u;
ifa isaa dukkanni haa liqimsu.
6 Halkan sana dukkanni limixiin haa qabatu;
guyyoota waggaa keessa jiranittis hin dabalamin
yookaan ji’oota kam iyyuu keessatti hin lakkaa’amin.
7 Halkan sun haa maseenu;
ililleenis keessatti hin dhaga’amin.
8 Warri Lewaataanin kakaasuuf qophaa’an,
kanneen guyyoota abaaran guyyaa sana haa abaaran.
9 Bakkalchi barii kan guyyaa sanaa haa dukkanaa’u;
ifa eeggatee haa dhabu;
boruu baqaqus hin argin.
10 Inni ija koo duraa rakkina dhoksuuf,
balbala gadameessa haadha kootii natti hin cufneetii.

11 “Ani maaliif gadameessa haadha kootii keessatti hin badin?
Maaliifis yeruman garaa keessaa ba’etti hin du’in?
12 Jilbawwan na simatan,
harmawwan ani hodhus maaliif achitti argaman?
13 Ani silaa yoona nagaan nan ciisa;
rafees nan boqodhan tureetii;
14 moototaa fi gorsitoota addunyaa
warra iddoowwan amma diigamanii jiran ofii isaaniitiif qopheeffatan wajjin,
15 bulchitoota warqee qaban, kanneen manneen isaanii
meetiidhaan guutatan wajjin nan boqodhan ture.
16 Yookaan ani maaliifin akkuma mucaa du’ee garaa ba’ee,
akkuma daa’ima ifa guyyaa hin arginiitti hin awwaalamin?
17 Achittis namoonni hamoonni jeequu ni dhiisu;
dadhaboonnis achitti ni boqotu.
18 Booji’amtoonni nagaadhaan walii wajjin jiraatu;
waca cunqursitoota isaaniis hin dhaga’an.
19 Xinnaa fi guddaan achi jira;
garbichis gooftaa isaa jalaa bilisoomeera.

20 “Maaliif warra gadadoo keessa jiraniif ifni
warra lubbuun isaanii gadditeef immoo jireenyi kennama?
21 Warra du’a hawwanii dhabaniif
warra qabeenya dhokfame caalaa du’a barbaadaniif
22 warra yommuu awwaalamuu ga’anitti

gammachuun guutamanii ililchaniif jireenyi maaliif kennama?
23 Nama karaan isaa duraa dhokateef
nama Waaqni dallaa itti marse
jireenyi maaliif kennama?
24 Gaddi buddeena naa ta’eera;
aaduun koos akka bishaanii dhangala’a.
25 Wanni ani sodaadhe natti dhufeera;
wanni na naasisus narra ga’eera.
26 Ani nagaa hin qabu; tasgabbiis hin qabu;
jeequmsa malee boqonnaa hin qabu.”

# 4

*Eliifaaz*

1 Eliifaaz namichi Teemaan sun akkana jedhee deebise:
2 “Yoo namni tokko sitti dubbachuu yaale, ati ni komattaa?
Garuu eenyutu dubbachuu dhiisa?
3 Ati akka nama baay’ee barsiifte,
akka harka dadhabaa illee jajjabeessite yaadadhu.
4 Dubbiin kee warra gatantaran gargaaree dhaabeera;
atis jilba laafe jabeessiteerta.
5 Amma garuu rakkinni sirra ga’e; atis abdii kutatteerta;
rakkinni si miidheera; atis rifatteerta;
6 Waaqa sodaachuun kee irkoo kee,
qajeelinni karaa keetiis abdii kee mitii?

7 “Ammas yaadadhu; namni qulqulluun takkumaa badee beekaa?
Qajeelonni eessatti badanii beeku?
8 Akka ani hubadhetti warri waan hamaa qotatan,
kanneen waan hamaa facaasanis isuma haammatu.
9 Isaanis hafuura Waaqni isaanitti baafatuun badu;
hafuuraa dheekkamsa isaaniitiinis ni barbadeeffamu.
10 Leenci ni aada; ni gururi’as;
ilkaan leenca saafelaa garuu ni caccaba.
11 Leenci jabaan waan adamsu dhabee ni du’a;
ilmaan leenca dhaltuus ni bittinnaa’u.

12 “Dubbiin tokko icciitiidhaan naa fidame;
gurri koos asaasa isaa dhaga’e.
13 Abjuu halkanii sodaachisaa keessa,
yommuu hirribni cimaan nama qabatutti,
14 sodaa fi hollachuun na qabatee
lafee koo hunda raase.
15 Hafuurri luffi jedhee fuula koo dura darbe;
rifeensi dhagna koos ka’ee dhaabate.
16 Innis ni dhaabate;
ani garuu inni maal akka ta’e hubachuu hin dandeenye.
Fakkiin tokko ija koo dura dhaabate;
anis sagalee tasgabbii kan akkana jedhu tokkon dhaga’e:
17 ‘Namni du’a hin oolle, Waaqa caalaa qajeelaa ta’uu danda’aa?
Namni Uumaa isaa caalaa qulqulluu ta’uu danda’aa?
18 Waaqni tajaajiltoota isaa hin amanatu;

ergamoota isaas balleessaa isaaniitiin ni gaafata;
19 yoos warri manneen suphee keessa jiraatan,
warri hundeen isaanii biyyoo ta'e,
warri bilii caalaa burkutaa'an immoo akkam haa ta'an ree?
20 Isaan ganamaa fi galgala gidduutti burkutaa'u;
tasumas bara baraan ni badu.
21 Akka isaan ogummaa malee du'aniif
funyoon dunkaana isaanii hin luqqifamnee?'

# 5

1 "Mee waami, namni deebii siif kennu jiraa?
Qulqulloota keessaas ati gara isa kamiitti gorta?
2 Nama gowwaa aariitu ajjeesa;
raatuus hinaaffaatu galaafata.
3 Namni gowwaan hidda isaa gad fageeffatee nan arge;
manni isaa garuu yoosuma abaarame.
4 Ijoolleen isaa nagaa hin qaban;
isaan karra duratti burkutaa'an; namni isaan oolchus hin jiru.
5 Namni beela'e midhaan isaa qoraattii keessaa iyyuu fuudhee nyaata;
inni dheebotes qabeenya isaa hawwa.
6 Rakkinni biyyoo keessaa hin burquutii;
dhiphinnis lafa keessaa hin biqilu.
7 Akkuma qaanqeen ibiddaa ol faca'u
namni rakkinaaf dhalata.

8 "Garuu utuu ana ta'ee Waaqa nan barbaaddadha;
dhimma koos fuula isaa duratti nan dhi'eeffadhan ture.
9 Inni dinqiiwwan qoranii bira ga'uu hin dandeenye,
hojiiwwan dinqisiisoo lakkaa'amuu hin dandeenye hojjeta.
10 Inni bokkaadhaan lafa ni quubsa;
lafa qotiisaas bishaan ni obaasa.
11 Warra gad qabaman ol baasa;
warra gaddanis iddoo nagaatti ol kaasa.
12 Akka hojiin harka isaanii hin milkoofneef,
inni karoora jal'ootaa ni fashaleessa.
13 Inni ogeeyyii haxxummaa isaaniitiin qaba;
malli jal'ootaa immoo dafee ni bada.
14 Guyyaan dukkana isaanitti ta'a; guyyaa saafaas
akka nama dukkana keessa jiruu qaqqabannaadhaan deemu.
15 Inni nama rakkataa goraadee afaan isaanii jalaa,
harka nama jabaa jalaas ni baasa.
16 Kanaafuu hiyyeessi abdii qaba;
jal'innis afaan isaa ni cufata.

17 "Namni Waaqni adabu eebbifamaa dha;
kanaafuu ati adabbii Waaqa Waan Hunda Danda'uu hin tuffatin.
18 Inni ni madeessa; ni fayyisas; inni ni cabsa;
harka isaatiinis deebisee ni fayyisa.
19 Balaa ja'a jalaa si baasa;
torba keessattis hin miidhamtu.

20 Bara beelaa du’a jalaa,
lola keessattis rukuttaa goraadee jalaa si baasa.
21 Ati garaffii arrabaa jalaa ni dhokfamta;
yommuu badiisni dhufuttis hin sodaattu.
22 Badiisaa fi beelatti ni kolfita;
bineensota lafaas hin sodaattu.
23 Dhagoota bakkee wajjin kakuu galta;
bineensonni bosonaas nagaadhaan si wajjin jiraatu.
24 Dunkaanni kee nagaan akka jiru ni beekta;
qabeenya kee ni to’atta; wanni tokko illee si jalaa hin badu.
25 Ijoolleen kee akka baay’atan,
sanyiiwwan kees akkuma marga lafaa akka ta’an ni beekta.
26 Akkuma bissiin midhaanii yeroo isaatti walitti qabamu sana,
atis bara dheeraa jiraattee awwaala seenta.

27 “Nu waan kana qoranneerra; innis dhugaa dha.
Kanaafuu qalbeeffadhu; ofii keetiifis beeki.”

# 6

*Iyyoob*

1 Iyyoobis akkana jedhee deebise:
2 “Utuu gaddi koo safaramee
dhiphinni koo hundis madaalii irra kaa’amee jiraatee!
3 Waan inni cirracha galaanaa caalaa ulfaatuuf,
ariitiin dubbachuun koo nama hin dinqisiisu ture.
4 Xiyyawwan Waaqa Waan Hunda Danda’uu na keessa jiru;
hafuurri koo summii isaanii dhuga;
sodaachisuun Waaqaa natti hiriireera.
5 Harreen diidaa utuu marga qabuu halaakaa?
Yookaan qotiyyoon utuu okaa qabuu baroodaa?
6 Nyaanni hin mi’oofne soogidda malee nyaatamaa?
Yookaan bishaan hanqaaquu ni mi’aawaa?
7 Ani isa tuquu hin fedhu;
nyaanni akkasii na dhukkubsa.

8 “Utuu kadhannaan koo deebii argatee,
Waaqnis waan ani hawwu naa kennee jiraatee,
9 utuu na caccabsuun fedhii Waaqaa ta’ee,
utuu harki isaa hiikamee na galaafatee!
10 Silaa kun jajjabina naa ta’a ture;
dhukkuba hamaa keessatti iyyuu nan gammada ture;
ani dubbii Qulqullicha sanaa hin ganneetii.

11 “Ammas akkan abdadhuuf jabinni koo maali?
Akkan obsuufis humni koo maali?
12 Ani jabina dhagaa qabaa?
Foon koos naasiidhaa?
13 Ani of gargaaruuf humna tokko illee qabaa?
Ogummaan na keessaa badeera mitii?

14 “Namni michuu isaatiif garaa hin laafne
Waaqa Waan Hunda Danda’u iyyuu sodaachuu dhiiseera.
15 Obboloonni koo garuu akka doloolloo,
akkuma laga yeroof guutee darbuu gowwoomsitoota;
16 isaan laga cabbiidhaan boora’ee
yommuu cabbiin sun baqutti immoo guutee irra yaa’uu ti.
17 Lageen yeroo bonni cimutti ni goggogu;
yeroo ho’aatti immoo iddoo isaaniitii badu.
18 Warri gaalaan daldalan karaa isaanii irraa jal’atu;
gammoojjiitti nam’anii dhumu.
19 Daldaltoonni Teemaa kanneen gaalaan daldalan bishaan barbaadu;
karaa adeemtonni Shebaa immoo isaan abdatu.
20 Isaan waan abdatanii turaniif ni qaana’an;
achi ga’aniis waan jedhan wallaalan.
21 Ammas isin akka waan faayidaa hin qabnee taatan;
gidiraa koo argitanii sodaattan.
22 Ani takkumaa, ‘Waa naaf kennaa’ yookaan
‘Qabeenya keessan furii naaf godhaa’ jedheeraa?
23 Yookaan, ‘Harka diinaa jalaa na baasaa’ yookaan,
‘Harka cunqursitootaa jalaa na furaa’ jedheeraa?

24 “Na barsiisaa; ani nan cal’isa;
iddoo ani itti dogoggores na argisiisaa.
25 Dubbiin qajeelaan akkam ulfaataa dha!
Falmiin keessan garuu maal mirkaneessa?
26 Isin waan ani jedhu qajeelchuu,
dubbii nama abdii kutatees akka bubbeetti heduu barbaadduu?
27 Isin ijoollee abbaa hin qabnetti ixaa buufattu;
michoota keessaniifis boolla qottu.

28 “Amma garuu yoo fedhii keessan ta’e na ilaalaa.
Ani fuula keessan duratti nan sobaa?
29 Deebi’aa; murtiis hin jal’isinaa;
hubadhaa; ani nama qajeelaadhaatii.
30 Jal’inni arraba koo irra jiraa?
Afaan koo daba addaan baasuu hin danda’uu?

# 7

1 “Jireenyi namaa lafa irratti qabsoo cimaa mitii?
Barri isaas akkuma bara nama qacaramaa tokkootii mitii?
2 Akkuma garbicha gaaddisa galgalaa hawwuu,
yookaan akkuma hojjetaa mindaa isaa eegatu tokkoo,
3 ji’oonni faayidaa hin qabne naa qoodaman;
halkanoonni dhiphinaas naa ramadaman.
4 Yommuun ciisutti, ‘Ani yoomin ka’a?’ jedheen yaada.
Halkan natti dheerata; anis hamma bari’utti nan gaggaragala.
5 Nafni koo raammoo fi qonyanyaa uffateera;
gogaan koo babbaqaqee mala’aa jira.

6 “Barri koo kolloo wayya dhooftuu caalaa ariifata;

innis abdii malee dhuma.
7 Egaa yaa Waaqayyo, akka jireenyi koo
akkuma qilleensaa ta'e yaadadhu;
iji koo lammata waan gaarii hin argu.
8 Iji amma na argu si'achi na hin argu;
ati na barbaadda; garuu ani hin jiru.
9 Akkuma duumessi bittinnaa'ee badus
namni awwaalame hin deebi'u.
10 Inni lammata mana isaatti hin deebi'u;
iddoon isaas si'achi isa hin beeku.

11 "Kanaafuu ani cal hin jedhu;
ani hafuura koo dhiphate sanaan nan dubbadha;
hadhaa'ummaa lubbuu kootiinis nan guunguma.
12 Ati eegduu natti ramaduun kee, ani galaana moo
yookaan bineensa galaanaa ti?
13 Yommuu ani, 'Sireen koo na jajjabeessa;
wanni ani irra ciisu guungummii koo naa xinneessa' jedhutti,
14 ati abjuu keessa na sodaachifta;
mul'ataanis na rifachiifta.
15 Kanaafuu ani akkasitti jiraachuu irra
of hudhee du'uu nan filadha.
16 Jireenya koo nan jibba; ani bara baraan hin jiraadhu.
Na dhiisi; jiraachuun koo faayidaa hin qabuutii.

17 "Akka ati isa leelliftuuf,
akka qalbii kee isa irra keessuufis namni maali?
18 Ati ganama ganama isa xiinxaltee
yeroo yerootti isa qorta.
19 Ati ija kee narraa hin buqqiftuu?
Hamma ani hancufa liqimsutti kophaa koo na hin dhiiftuu?
20 Yaa isa nama eegdu,
yoon cubbuu hojjedhe iyyuu ani maalan si godha?
Ati maaliif waan itti akeekkattu na godhatte?
Ani ba'aa sitti ta'eeraa?
21 Ati maaliif balleessaa koo irra dabartee
cubbuu koo illee naaf hin dhiifne?
Yeroon ani itti biyyoo keessa ciisu ga'eeraatii;
ati na barbaadda; garuu ani hin argamu."

# 8

*Bildaad*
1 Bildaad Shuhaahichi akkana jedhee deebise:
2 "Ati hamma yoomiitti waan akkasii dubbatta?
Dubbiin kee bubbee jabaa dha.
3 Waaqni murtii qajeelaa jal'isaa ree?
Waaqni Waan Hunda Danda'u waan qajeelaa jal'isaa?
4 Yommuu ijoolleen kee cubbuu isatti hojjetanitti,
inni adabbii cubbuu isaaniitti dabarsee isaan kenne.
5 Ati garuu yoo Waaqa barbaadatte,
Waaqa Waan Hunda Danda'u yoo waammatte,
6 yoo ati qulqulluu fi qajeelaa taate,

inni waa’ee keetiif ammuma ka’a;
jireenya qajeelummaa kees siif deebisa.
7 Jalqabni kee xinnaa ta’u illee,
dhumni kee baay’ee guddaa ta’a.

8 “Dhaloota darbe gaafadhu;
waan abbootiin isaanii qoratanii bira ga’anis hubadhu;
9 nu waan kaleessa dhalanneef waa tokko illee hin beeknuutii;
baroonni keenyas lafa irratti akkuma gaaddidduu ti.
10 Isaan si hin barsiisanii? Sittis hin himanii?
Dubbii garaa isaanii keessa jirus hin dubbatanii?
11 Dhallaadduun lafa caffee hin ta’initti guddataa?
Shambaqqoonis bishaan malee lalisaa?
12 Isaan utuma guddachaa jiranuu, utuu hin muramin,
biqiltuuwwan kaan dura dafanii gogu.
13 Dhumni warra Waaqa irraanfataniis akkasuma ta’a;
abdiin warra Waaqa hin beeknees ni bada.
14 Abdiin isaa akkuma salphaatti cita;
ofitti amanachuun isaas man’ee sariitii ti.
15 Inni man’ee isaatti irkata; man’een sun garuu hin dhaabatu;
itti maxxanas; man’een sun garuu danda’ee isa hin baatu.
16 Inni akka biqiltuu aduu keessatti bishaan obaafamee lalisuutti,
dameewwan isaa lafa biqiltuu irra diriirfatuu ti.
17 Hidda isaa tuullaa dhagaatti marata;
kattaa gidduus iddoo jiraatu ni barbaaddata.
18 Yommuu inni iddoo isaatii badutti garuu,
iddoon sun, ‘Ani si argee hin beeku’ jedhee isa gana.
19 Kunis dhuma jireenya isaa ti;
biqiltuuwwan biraas lafaa ni biqilu.

20 “Waaqni nama hir’ina hin qabne hin gatu;
yookaan harka jal’ootaa hin jabeessu.
21 Inni afaan kee kolfaan,
arraba kee immoo ililleedhaan ni guuta.
22 Warri si jibban salphina uffatu.
Dunkaanni jal’ootaas si’achi hin jiraatu.”

# 9

*Iyyoob*

1 Iyyoob akkana jedhee deebise:
2 “Ani akka wanni kun dhugaa ta’e beeka.
Namni garuu akkamitti fuula Waaqaa duratti qajeelaa ta’uu danda’a?
3 Namni tokko yoo isa wajjin falmuu barbaade
kuma keessaa si’a tokko illee isaaf deebisuu hin danda’u.
4 Ogummaan isaa gad fagoo dha; humni isaas guddaa dha.
Namni isaan mormee utuu hin miidhamin hafu jiraa?
5 Inni utuu isaan hin beekin tulluuwwan iddoo isaaniitii buqqisa;
dheekkamsa isaatiinis isaan gaggaragalcha.
6 Lafa iddoo isheetii ni sochoosa;
utubaawwan ishees ni raasa.
7 Inni biiftuu ni ajaja; isheenis hin baatu;

urjiiwwanis chaappaadhaan ni cufa.
8 Isa qofatu samiiwwan diriirsa;
dambalii galaanaa irras ni deema.
9 Urjiiwwan Amaaketaa fi urjii sadee,
Urjii torbii fi tuuta ‘Urjiiwwan Kibbaa’ jedhaman isatu uume.
10 Inni wantoota gurguddaa qoratanii bira ga’uun hin danda’amne,
dinqiiwwan hin lakkaa’amne hojjeta.
11 Yommuu inni na bira darbu ani isa arguu hin danda’u;
yommuu inni na cina deemus ani isa hubachuu hin danda’u.
12 Yoo inni butee deeme eenyutu isa dhowwuu danda’a?
Eenyutus, ‘Ati maal hojjettaa?’ isaan jechuu danda’a?
13 Waaqni dheekkamsa isaa hin deebisu;
warri Ra’aabin gargaaran iyyuu gad deebi’u.

14 “Yoos ani akkamittan isatti falmuu danda’a?
Isatti falmuufis akkamittan dubbii filachuu danda’a?
15 Ani nama balleessaa hin qabne utuun ta’e iyyuu,
isaaf deebisuu hin danda’u;
abbaa Murtii koo araara kadhachuu qofa nan danda’a.
16 Yoo ani isa waammadhee inni naa deebise illee,
akka inni na dhaga’u ani hin amanu.
17 Inni bubbee hamaadhaan na caccabsa;
madaa koos sababii malee natti baay’isa.
18 Inni waan hadhaa’aadhaan na guute malee
akka ani hafuura fudhadhuuf illee yeroo naaf hin kennine.
19 Waa’ee jabinaa taanaan inni jabaa dha!
Waa’ee murtii qajeelaas taanaan eenyutu isa waamuu danda’a?
20 Utuu ani nama balleessaa hin qabne ta’e iyyuu afaan koo natti mura;
utuma ani hir’ina hin qabaannes yakkamaa ta’uu koo hima.

21 “Ani hir’ina qabaachuu baadhu iyyuu,
waa’ee ofii kootii hin yaadda’u;
jireenya koos nan tuffadha.
22 Wanni hundinuu tokkuma;
kanaafuu ani, ‘Inni isa hir’ina hin qabnes,
isa hamaas ni balleessa’ nan jedha.
23 Yommuu dha’ichi bu’ee du’a tasaa fidutti,
inni badiisa warra yakka hin qabneetti ni qoosa.
24 Yommuu lafti harka hamootaa jala galtutti,
inni ija abbootii murtii ishee ni jaamsa;
kun yoo isa ta’uu baate, egaa eenyu ree?

25 “Barri jireenya koo nama fiigu caalaa ariifata;
utuu gammachuu tokko illee hin argin darba.
26 Inni akkuma bidiruu dhallaadduu irraa hojjetamee,
akkuma risaa waa butachuuf gad barrisuu ariifata.
27 Yoo ani, ‘Guungummii koo nan dhiisa;
nyaara guuruus dhiisee nan seeqa’ jedhe,
28 ani amma iyyuu dhiphina koo hunda nan sodaadha;
akka ati akka nama balleessaa hin qabneetti na hin hedne nan beekaatii.
29 Erga yakkamaa ta’uun koo beekamee,

ani maaliifin akkasumaan dadhaba ree?
30 Utuma ani saamunaadhaan dhiqadhee
handoodeedhaanis harka koo qulqulleeffadhe iyyuu,
31 ati hamma uffanni koos na balfutti,
boolla keessa na dhidhimsita.

32 “Akka ani isaa deebisuu fi mana murtiittis wal falminuuf,
inni akka koo nama foonii miti.
33 Utuu namni nu lamaan irra harka kaa’u,
kan gidduu keenyattis araara buusu tokko jiraatee,
34 utuu Waaqni ulee isaa narraa kaasee
silaa naasisuun isaa na hin sodaachisu ture.
35 Silaa ani utuun isa hin sodaatin nan dubbadhan ture;
haalan amma keessa jiruun garuu hin danda’u.

# 10

1 “Ani jireenya koo akka malee jibbeera;
kanaafuu caalchisee nan guunguma;
hadhaa’ummaa lubbuu kootiinis nan dubbadha.
2 Waaqaanis akkana nan jedha:
Ati maaliin akka na himattu natti himi malee natti hin murin.
3 Hojii jal’ootaa gammachuudhaan fudhattee
ana immoo yommuu cunqursitu,
hojii harka keetiis yommuu tuffattu sitti tolaa?
4 Ati ija foonii qabdaa?
Akka namni ilaaluttis ni ilaaltaa?
5 Barri kee akka bara namaatii?
Yookaan waggoonni kee akka waggoota namaatii?
6 Yoos ati maaliif balleessaa koo barbaaddee
cubbuu koo qoratta?
7 Ta’us ati akka ani yakka hin qabnee fi
akka namni harka keetii na baasu tokko iyyuu hin jirre ni beekta.

8 “Harki kee tolchee na uume.
Ati amma deebitee na balleessitaa?
9 Akka supheetti na tolchuu kee yaadadhu.
Ati amma gara biyyootti na deebiftaa?
10 Ati akka aannanii na hin dhangalaafnee?
Akka baaduus na hin itichinee?
11 Ati gogaa fi foon natti uffifte;
lafee fi ribuudhaanis walitti hodhitee na tolchite.
12 Ati jireenya naa kennitee gaarummaa natti argisiifte;
kunuunsi kees hafuura koo naa eege.

13 “Ati garuu waan kana hunda garaatti qabatte;
anis akka wanni kun yaada kee keessa jiru nan beeka.
14 Ati yoo ani cubbuu hojjedhe na argita;
balleessaa koos utuu hin adabin bira hin dabartu.
15 Yoo ani yakka hojjedhe, anaaf wayyoo!
Ani yoo nama balleessaa hin qabne ta’e illee,
mataa koo ol qabachuu hin danda’u;
ani salphina uffadhee

dhiphina keessa seeneeraatii.
16 Yoo ani mataa ol qabadhe ati akka leenca waa adamsuu na adamsita;
humna kee sodaachisaa sanas ammumaa amma natti argisiifta.
17 Ati dhuga baatota haaraa natti fiddee
dheekkamsa kee natti dabalta;
loltuus natti fidda.

18 “Egaa ati maaliif gadameessa keessaa na baafte?
Utuu iji tokko iyyuu na hin argin utuun du’ee.
19 Ani utuun dhalachuu baadhee
yookaan utuun akkuman dhaladheen awwaalamee jiraadhee!
20 Barri koo gabaabaan dhumaa jira mitii?
Akka ani yeroo xinnoof gammaduuf narraa deebi’i;
21 utuu ani lafa dhaqanii hin deebine,
biyya dimimmisaa fi dukkana limixii hin dhaqin dura,
22 gara biyya dimimmisaa’aa akka dukkanaa,
biyya gaaddidduu du’aatiin guutame,
kan ifni iyyuu akkuma dukkanaa ta’ee hin dhaqin, narraa deebi’i.”

# 11

*Zoofaari*

1 Zoofaari Naa’imaatichi akkana jedhee deebise:
2 “Dubbiiwwan kunneen hundi deebii argachuu hin qabanii?
Dubbii baay’isuun qajeelaa nama godhaa?
3 Of jajuun kee afaan nama qabachiisaa?
Yommuu ati qoostu namni si ifatu hin jiruu?
4 Ati Waaqaan, ‘Barsiisni koo qulqulluu dha;
ani fuula kee duratti hir’ina hin qabu’ jetta.
5 Maaloo utuu Waaqni sitti dubbatee,
utuu afaan isaas sitti saaqqatee
6 icciitii ogummaa siif ibsee ani akkamin hawwa!
Ogummaan dhugaan bifa lama qabaatii.
Kanaafuu Waaqni cubbuu kee muraasa akka siif irraanfate beeki.

7 “Icciitii Waaqaa qorattee bira ga’uu
yookaan yaada Waaqa Waan Hunda Danda’uu qorattee bira ga’uu dandeessaa?
8 Isaan samiiwwan caalaa ol fagaatu; ati maal gochuu dandeessa?
Qilee awwaalaa caalaas gad fagaatu; ati maal beekuu dandeessa?
9 Safarri isaa lafa caalaa dheerata;
galaana caalaa bal’ata.

10 “Yoo inni dhufee mana hidhaatti si galche,
yoo waldaa murtiis walitti qabe eenyutu isa dhowwuu danda’a?
11 Dhugumaan inni sobdoota ni beeka;
inni yommuu jal’ina argutti hin qalbeeffatuu?
12 Yoo harreen diidaa nama ta’ee dhalate malee
gowwaan ogeessa ta’uu hin danda’u.

13 “Ta’us yoo ati yaada kee gara isaatti deebiftee
harka kees gara isaatti diriirsite,

14 cubbuu harka kee keessa jiru yoo of irraa fageessite,
akka wanni hamaanis dunkaana kee keessa hin jiraanne yoo goote,
15 ati qaanii tokko malee fuula kee ol qabachuu dandeessa;
sodaa tokko malees jabaattee dhaabatta.
16 Ati dhugumaan rakkina kee ni irraanfatta;
akkuma lolaa darbeettis ni lakkoofta.
17 Jireenyi kee aduu saafaa caalaa ifa;
dukkanni isaas akkuma barii ganamaa ta'a.
18 Waan abdiin jiruuf ati hin sodaattu;
naannoo kee ni ilaalta; nagaadhaanis ni boqotta.
19 Ati ni rafta; namni tokko iyyuu si hin sodaachisu;
namoonni baay'eenis fuula kee barbaadu.
20 Iji hamootaa ni dadhaba;
karaan ittiin baqatanis isaan jalaa bada;
abdiin isaaniis du'a qofa."

# 12

*Iyyoob*

1 Iyyoob akkana jedhee deebise:
2 "Nama jechuun dhugumaan isin;
ogummaanis isin wajjin duuti!
3 Garuu anis akkuma keessan sammuun qaba;
ani isinii gad miti.
Namni waan akkanaa hin beekne eenyu?

4 "Ani nama Waaqa waammatee deebii argate ta'u illee,
michoota koo biratti nama kolfaa ta'eera.
Ani utuun nama qajeelaa hir'ina hin qabne ta'ee jiruu nama kolfaa ta'eera.
5 Warri itti tole rakkinatti qoosu;
nama kufuuf miilli isaa mucucaateenis kun hiree isaati jedhu.
6 Dunkaanni saamtotaa hin jeeqamu;
warri Waaqa isaanii harkatti baatanii jooran,
warri Waaqa dheekkamsiisan nagaan jiraatu.

7 "Mee horii gaafadhu; isaan si barsiisu;
yookaan simbirroota samii gaafadhu; isaan sitti himu;
8 yookaan lafatti dubbadhu; inni si barsiisa;
yookaan qurxummiiwwan galaanaa sitti haa himan.
9 Akka harki WAAQAYYOO waan kana hojjete,
isaan kanneen hunda keessaa eenyutu hin beekne?
10 Lubbuun uumama hundaa,
hafuurri nama hundaas harka isaa keessa jira.
11 Akkuma arrabni nyaata afaaniin qabu,
gurris dubbii dhaga'ee addaan hin baasuu?
12 Ogummaan jaarsolii biratti,
hubannaanis warra umuriin dheerate biratti argama mitii?

13 "Ogummaa fi humni kan Waaqaa ti;
gorsii fi hubannaanis kan isaa ti.
14 Waan inni diigu eenyu iyyuu deebisee ijaaruu hin danda'u;

nama inni hidhe eenyu iyyuu hiikuu hin danda’u.
15 Yoo inni bishaan dhowwate, hongeetu bu’a;
yoo inni gad dhiise immoo biyya balleessa.
16 Jabinnii fi ogummaan kan isaa ti;
namni gowwoomfamuu fi inni gowwoomsus kanuma isaa ti.
17 Inni gorsitoota qullaa deemsisa;
abbootii murtiis gowwoota godha.
18 Inni mootota irraa hidhaa hiikee,
mudhii isaaniitti sabbata hidha.
19 Luboota qullaa deemsisa;
jajjabeeyyiis ni gaggaragalcha.
20 Gorsitoota amanamoo afaan qabachiisa;
hubannaa jaarsoliis irraa fuudha.
21 Warra kabajamootti salphina fida;
warra jajjaboo immoo hidhata hiikachiisa.
22 Inni icciitii dukkanaa keessaa ifatti baasa;
dukkana limixiis ifatti geeddara.
23 Inni saboota ni guddisa; ni balleessas;
saboota ni baay’isa; ni bittinneessas.
24 Bulchitoota addunyaa hubannaa malee hambisa;
gammoojjii daandii hin qabne keessas isaan joorsa.
25 Isaan dukkana ifa hin qabne keessa qaqqabannaadhaan deemu;
inni akka isaan akkuma nama machaa’eetti gatantaranis ni godha.

# 13

1 “Waan kana hunda iji koo argeera;
gurri koos dhaga’ee hubateera.
2 Waan isin beektan anis beeka;
ani isinii gad miti.
3 Ani garuu Waaqa Waan Hunda Danda’utti nan dubbadha;
waa’ee dhimma koos Waaqatti falmuu nan barbaada.
4 Isin garuu sobaan nama faaltu;
hundi keessan abbootii qorichaa
kanneen faayidaa hin qabnee dha!
5 Isin yoo cal jettan maal qaba!
Wanni sun ogummaa isiniif ta’a.
6 Amma falmii koo dhaga’aa;
kadhannaa afaan kootiis dhaggeeffadhaa.
7 Isin jal’inaan Waaqaaf dubbattuu?
Gowwoomsaadhaanis isaaf odeessituu?
8 Isaaf ni loogduu?
Waaqaafis ni falmituu?
9 Yoo inni isin qore wanni gaariin isin irraa argamaa?
Isin akka nama gowwoomsitan, isa gowwoomsuu dandeessuu?
10 Yoo isin dhoksaadhaan loogii hojjettan,
inni dhugumaan isinitti dheekkama.
11 Surraan isaa isin hin sodaachisuu?
Sodaachisuun isaa isinitti hin dhaga’amuu?
12 Fakkeenyi keessan fakkeenya daaraa ti;
da’oon keessanis da’oo suphee ti.

13 “Akka ani dubbadhuuf isin cal jedhaa;
ergasii wanni barbaade natti haa dhufu.
14 Ani maaliifin foon koo ilkaan kootiin,
lubbuu koos harka kootiin qabadha?
15 Yoo inni na ajjeese iyyuu ani isa nan abdadha;
waa’ee dhimma kootii illee fuula isaa duratti nan falmadha.
16 Kun fayyina koo ni ta’a; warri Waaqatti hin bulle
fuula isaa duratti dhi’aachuu hin danda’aniitii!
17 Dubbii koo qalbeeffadhaa dhaggeeffadhaa;
waan ani jedhus gurri keessan haa dhaga’u.
18 Kunoo ani himata koo qopheeffadheera;
akka inni murtii qajeelaa naa kennus nan beeka.
19 Namni na himatu jiraa?
Yoo jiraate, ani nan cal’isa; nan du’as.

20 “Yaa Waaqayyo, ati wantoota kanneen lamaan naa kenni malee
ani fuula kee duraa hin dhokadhu.
21 Harka kee narraa fageessi;
sodaachisni kees na hin rifachiisin.
22 Ergasii na waami; anis nan owwaadha;
yookaan nan dubbadha; ati immoo deebii naa kennita.
23 Ani balleessaa fi cubbuu hammamin hojjedhe?
Yakka kootii fi cubbuu koo na beeksisi.
24 Ati maaliif fuula kee dhokfattee
akka diinaatti na ilaalta?
25 Baala qilleensi harcaase ni ciccirtaa?
Habaqii gogaa ni ariitaa?
26 Ati waan ittiin na hadheessitu natti barreessitaatii;
cubbuu dargaggummaa kootiis na dhaalchifta.
27 Miilla koo jirma gidduu galchita;
faana miilla kootiitti mallattoo gootee
karaa koo hunda xiyyeeffattee duukaa buuta.

28 “Namnis akkuma waan bososeetti,
akkuma wayyaa biliin nyaateetti ni dhuma.

# 14

1 “Nama dubartoota irraa dhalate,
barri isaa gabaabaa fi kan rakkinaan guutamee dha.
2 Inni akkuma daraaraa ni biqila; ni coollagas;
akkuma gaaddidduu ariifatee darba malee hin turu.
3 Iji kee nama akkasii xiyyeeffatee ilaalaa?
Ati murtiif fuula kee duratti isa fiddaa?
4 Eenyutu waan xuraa’aa keessaa waan qulqullaa’aa baasuu danda’a?
Namni tokko iyyuu hin danda’u!
5 Barri jireenya namaa murtaa’aa dha;
baay’inni ji’oota isaas si bira jira;
daangaa inni darbuu hin dandeenye daangessiteefii jirta.
6 Hamma inni akka hojjetaa tokkootti bara isaa raawwatutti,
fuula kee isa irraa deebifadhu; isas dhiisi.

7 “Mukni illee abdii qaba:
Yoo murame deebi’ee ni lata;
dameen isaa haaraanis hin gogu.
8 Yoo gufuun isaa lafa keessatti dulloomee
gufuun isaa biyyoo keessatti tortore iyyuu,
9 foolii bishaaniitiin lata;
akka biqiltuuttis damee ni baafata.
10 Namni garuu du’ee awwaalama;
lubbuun isaa keessaa baati; innis hin jiraatu.
11 Akkuma bishaan galaanaa gogu
yookaan lagnis dhumee gogu sana,
12 namnis akkasuma ni ciisa; hin ka’us;
hamma samiiwwan darbanittis hin dammaqu
yookaan hirribaa hin ka’u.

13 “Maaloo utuu awwaala keessa na dhoksitee
hamma dheekkamsi kee darbutti na haguugdee!
Maaloo utuu beellama naa kennitee
ergasii immoo na yaadattee!
14 Namni tokko yoo du’e deebi’ee ni jiraataa?
Ani hamma haaromfamni koo dhufutti,
bara rakkoo koo hunda obsaan nan eeggadha.
15 Ati na waamta; anis si jalaa nan owwaadha;
hojii harka keetiis ni hawwita.
16 Yeroo sana ati tarkaanfii koo ni lakkoofta;
cubbuu koo garuu hin to’attu.
17 Yakki koo korojootti naqamee chaappeffama;
ati cubbuu koo ni haguugda.

18 “Garuu akkuma tulluun lolaadhaan dhiqamee jigu,
kattaanis iddoo isaatii buqqa’u sana,
19 akkuma bishaan dhagaa nyaatee haphisu,
akkuma lolaan biyyoo dhiqu sana,
atis akkasuma abdii namaa ni balleessita.
20 Ati bara baraan isa ni moota; innis ni bada;
bifa isaa ni geeddarta; of irraas isa fageessita.
21 Yoo ilmaan isaa ulfina argatan inni hin beeku;
yoo isaan salphatanis hin argu.
22 Dhukkuba dhagna isaa qofatu isatti dhaga’ama;
inni mataa isaa qofaaf boo’a.”

# 15

*Eliifaaz*

1 Eliifaaz Teemaanichi akkana jedhee deebise:
2 “Namni ogeessi tokko dubbii faayidaa hin qabneen deebii kennaa?
Yookaan bubbee ba’a biiftuutiin garaa isaa guutataa?
3 Inni dubbii faayidaa hin qabneen,
haasaa bu’aa hin qabneenis ni falmaa?
4 Ati garuu Waaqa sodaachuu ni tuffatta;
Waaqa kadhachuu illee nama dhowwita.
5 Cubbuun kee afaan kee ni barsiifti;

atis afaan jal’ootaa filatta.
6 Afaanuma keetu sitti mura malee afaan koo miti;
arrabuma keetu ragaa sitti ta’a.

7 “Situ nama hunda dura dhalatee?
Yookaan situ tulluuwwan dura argamee?
8 Ati dhoksaa Waaqaa dhageesseertaa?
Ogummaas ofuma keetiif dhuunfattaa?
9 Wanni ati beektu kan nu hin beekne maali?
Hubannaan ati qabdu kan nu hin qabne maali?
10 Namoonni arrii baasanii fi kanneen jaaran,
warri abbaa kee iyyuu caalaa dullooman nu gidduu jiru.
11 Gorsi Waaqaa kan nama jajjabeessu,
dubbiin suutaan sitti himame sun si hanqatee?
12 Yaadni kee maaliif si fudhatee bada?
Ijas maaliif babaafta?
13 Wanni akka ati Waaqatti aartu,
akka dubbiin akkasiis afaan keetii ba’u godhe maali?

14 “Akka qulqulluu ta’uuf namni maali?
Yookaan akka qajeeltota ta’aniif warri dubartoota irraa dhalatan maali?
15 Yoo Waaqni qulqulloota isaa illee amanuu baatee
samiiwwan iyyuu fuula isaa duratti qulqulluu ta’uu baatan,
16 yoos sanyiin namaa inni hamaa fi xuraa’aan,
kan akkuma bishaaniitti cubbuu dhugu sun
hammam hammasii gad haa ta’u ree!

17 “Na dhaggeeffadhu; ani siifan ibsaa;
waanan arges sitti nan hima;
18 waan namoonni ogeeyyiin
waan abbootii isaanii irraa dhaga’an keessaa tokko illee utuu hin dhoksin
odeessan sana nan dubbadha;
19 biyyattiin abbootii isaanii qofaaf kennamte;
alagaan tokko iyyuu isaan gidduu hin jiraanne.
20 Namni dabaan bara jireenya isaa guutuu,
gara jabeessis bara isaaf qoodame guutuu ni rakkata.
21 Sagaleen sodaachisaan gurra isaatti ni iyya;
utuma inni nagaan jiraatuus saamtonni tasuma itti dhufu.
22 Inni akka deebi’ee dukkana keessaa ba’u hin amanu;
goraadeetu isa eeggata.
23 Inni waan nyaatamu barbaacha asii fi achi joora;
akka guyyaan dukkanaa dhi’aates ni beeka.
24 Dhiphinaa fi gaddi isa sodaachisu;
akkuma mootii lolaaf qophaa’eettis isatti cimu;
25 inni harka isaa Waaqatti ol fudhatee
Waaqa Waan Hunda Danda’us tuffateera;
26 gaachana yabbuu fi jabaa qabatee
isaan mormuuf mata jabinaan ba’eera.

27 “Yoo fuulli isaa coomaan haguugamee
mudhiin isaa foon baasee iita’e iyyuu,

28 inni magaalaawwan barbadaa’an keessa,
manneen namni tokko iyyuu keessa hin jiraanne,
kanneen diigamanii tuulamuu ga’an keessa jiraata.
29 Inni si’achi hin sooromu; qabeenyi isaas hin jiraatu;
yookaan qabeenyi isaa lafa irra hin turu.
30 Inni dukkana jalaa hin ba’u;
arrabni ibiddaa damee isaa ni gogsa;
hafuurri afaan Waaqaatii ba’us isa fudhata.
31 Inni sababii beenyaa tokko illee hin arganneef,
waan faayidaa hin qabne amanachuudhaan of hin gowwoomsin.
32 Inni utuu yeroon isaa hin ga’in ni coollaga;
dameen isaas hin lalisu.
33 Inni akka muka wayinii iji isaa utuu hin bilchaatin irraa funaanamee,
akka ejersa daraaraa isaa of irraa harcaasee ni ta’a.
34 Gareen warra Waaqaaf hin bullee ni maseena;
ibiddis dunkaana warra matta’aa jaallatanii ni guba.
35 Isaan rakkina ulfaa’anii hammina dhalan;
garaan isaaniis jal’ina yaada.”

# 16

*Iyyoob*

1 Iyyoobis akkana jedhee deebise:
2 “Ani waan akkanaa baay’ee dhaga’eera;
hundi keessan jajjabeessitoota nama dhiphistanii dha!
3 Haasaan faayidaa hin qabne kun hin dhumuu?
Wanni akka ati oduu dheeressituuf si tuttuqu maali?
4 Utuu isin iddoo koo jiraattanii
silaa ani akkuma keessan kana nan dubbadha ture;
dubbii mi’ooftuu dubbachuudhaanis
mataa koo isinitti nan raasan ture.
5 Ani afaan kootiin isin jajjabeessee
gorsi arraba kootiis qabbana isinii kenna ture.

6 “Yoo ani dubbadhe dhukkubni koo natti hin wayyaa’u;
cal jedhus na hin dhiisu.
7 Yaa Waaqi, ati dhugumaan na dadhabsiifteerta;
warra mana koo jiru hundas balleessiteerta.
8 Ati na kokotteessite; kunis ragaa natti ta’e;
akka malee huqqachuun koos ifatti ba’ee na saaxile.
9 Waaqni dheekkamsa isaatiin rukutee na ciccire;
ilkaan isaa natti qarate;
diinni koo ija isaa natti babaase.
10 Namoonni natti qoosuuf afaan banatan;
tuffiidhaan maddii koo kabalan;
tokko ta’anii natti ka’an.
11 Waaqnis dabarsee hamootatti na kenne;
harka jal’ootaa keessas na buuse.
12 Ani nagaan jiraachaan ture; inni garuu na burkuteesse;
morma na qabee na caccabse.
Xiyyeeffannaa isaas na godhate;
13 loltoonni isaa warri xiyyaan lolan na marsu.

Inni gara laafina malee kalee koo waraanee
hadhooftuu koo illee lafatti gad jigse.
14 Inni ammumaa amma na caccabsa;
akkuma loltuu tokkootti natti fiiga.

15 “Ani gogaa kootti uffata gaddaa hodhadheera;
gaanfa koos biyyoo keessatti awwaaleera.
16 Fuulli koo boo’ichaan diimateera;
dukkanni limixiinis ija koo irra bu’eera.
17 Ta’us harki koo yakka tokko illee hin hojjenne;
kadhannaan koos qulqulluu dha.

18 “Yaa lafa, ati dhiiga koo hin dhoksin;
akka iyyi koo iddoo boqonnaa argatus hin godhin!
19 Amma iyyuu dhuga ba’aan koo samii irra jira;
abukaattoon koos ol gubbaa jira.
20 Michoonni koo na tuffatu;
iji koos imimmaan gara Waaqaatti facaasa;
21 akkuma namni michuu isaatiif kadhatu sana
utuu namni Waaqa kadhatu namaaf jiraatee!

22 “Waggoota xinnoo booddee,
ani gara deemanii deebi’uun hin jirre nan deema.

# 17

1 Hafuurri koo dadhabeera;
barri koo gabaabbateera;
awwaallis naa qopheeffameera.
2 Dhugumaan qoostonni na marsaniiru;
iji koos hojii isaanii isa hamaa sana hubatee ilaala.

3 “Yaa Waaqi, qabsiisa naa ta’i;
si malee eenyutu wabii naa ta’a?
4 Akka isaan waa hin hubanneef ati sammuu isaanii cufteerta;
kanaafuu ati akka isaan mo’atan hin gootu.
5 Yoo namni tokko faayidaa argachuuf
michuu isaa maqaa balleesse, iji ijoollee isaa ni jaama.

6 “Waaqni nama hunda biratti nama kolfaa,
nama namni fuula isaatti tufu na godheera.
7 Iji koo sababii gaddaatiif arguu dhabe;
dhagni koo guutuunis akkuma gaaddidduu ti.
8 Qajeeltonni waan kanaan ni rifatu;
namni balleessaa hin qabnes warra Waaqatti hin bulle irratti ka’a.
9 Qajeelaan garuu karaa isaatti cima;
warri harki isaanii qulqulluu ta’es jabaachaa deemu.

10 “Hundi keessan garuu mee deebi’aa yaalaa!
Ani isin keessaa nama ogeessa tokko illee hin argadhu.
11 Barri koo darbeera; karoorri koo fashalaa’eera;
hawwiin garaa koos akkasuma ta’eera.

12 Namoonni kunneen halkan guyyaatti geeddaraniiru;
utuma dukkana arganuus, ‘Ifni dhi’aateera’ jedhu.
13 Yoo manni ani abdadhu awwaala qofa ta’e,
yoo ani dukkana keessatti siree koo afadhe,
14 yoo ani boolla qileetiin, ‘Ati abbaa koo ti;’
raammoodhaan immoo, ‘Ati haadha koo ti;’
yookaan ‘Obboleettii koo ti’ jedhe,
15 egaa abdiin koo eessa jira?
Eenyutus abdii tokko illee naa arga?
16 Inni na wajjin awwaala bu’aa?
Nus walumaan biyyoo seennaa?”

# 18

*Bildaad*

1 Bildaad Shuhaahichi akkana jedhee deebise:
2 “Isin haasaa kana yoom fixxu?
Mee qalbeeffadhaa; ergasii dubbachuu dandeenya.
3 Nu maaliif akka looniitti hedamna?
Maaliifis fuula kee duratti akka gowwaatti ilaalamna?
4 Ati kan aariidhaan of ciccirtu,
lafti sababii keetiif duwwaatti haftii?
Yookaan kattaan iddoo isaatii ni buqqifamaa?

5 “Ibsaan nama hamaa ni dhaama;
arrabni ibidda isaa ifa hin kennu.
6 Ifni dunkaana isaa keessaa ni dukkanaa’a;
ibsaan isa bira jirus ni dhaama.
7 Jabinni tarkaanfii isaa ni dadhaba;
malli isaas isuma kuffisa.
8 Miilli isaa kiyyoo keessa isa buusa;
inni boolla kiyyeeffame irra ni joora.
9 Kiyyoon kottee isaa qaba;
futtaasaanis jabeessee isa qaba.
10 Lafa irra funyoon isaaf dhokfameera;
karaa isaa irras kiyyoon kaa’ameera.
11 Naasuun karaa hundaan isa sodaachisa;
faana isaa bu’ees isa ari’a.
12 Badiisni afaan itti banateera;
balaanis qophaa’ee jiguu isaa eeggata.
13 Gogaan isaa dhukkubaan nyaatamee dhuma;
ilmi du’aa hangaftichi harkaa fi miilla isaa nyaata.
14 Inni dunkaana abdate keessaa buqqifamee
gara mootii sodaatti geeffama.
15 Waan kan isaa hin ta’inis dunkaana isaa keessa jiraata;
dinyiin boba’us iddoo inni jiraatu irra faffaca’a.
16 Jalaan hiddi isaa ni goga;
irraan immoo dameen isaa ni coollaga.
17 Yaadannoon isaa lafa irraa ni bada;
maqaan isaas lafa irraa ni dhabama.
18 Inni ifa keessaa gara dukkanaatti darbatama;
addunyaa irraas ni dhabama.

19 Inni saba isaa gidduutti ijoollee yookaan sanyii,
biyya duraan jiraate keessatti hambaa hin qabaatu.
20 Namoonni dhi'aa waa'ee isaa dhaga'anii rifatu;
warri ba'aas sodaadhaan guutamu.
21 Iddoon jireenya nama hamaa, dhugumaan akkana ta'a;
iddoon nama Waaqa hin beeknees kanuma ta'a."

## 19

*Iyyoob*

1 Iyyoobis akkana jedhee deebise:
2 "Isin hamma yoomiitti na dhiphistanii
dubbiin na cabsitu?
3 Amma si'a kudhan na arrabsitaniirtu;
qaanii malees na miitaniirtu.
4 Yoo ani dhugumaan karaa irraa goree jiraadhe,
dogoggorri koo anuma wajjin jiraata.
5 Yoo isin dhugumaan anaa olitti of guddiftanii
na miidhuuf salphina kootti fayyadamtan,
6 akka Waaqni na miidhee
kiyyoo isaa illee natti xaxe beekaa.

7 " 'Ani miidhameera!' jedhee iyyadhu illee deebii hin argadhu;
sagalee ol fudhadhee gargaarsaaf iyyus
murtiin qajeelaan hin jiru.
8 Akka ani hin dabarreef inni karaa koo cufeera;
daandii koottis dukkana haguugeera.
9 Ulfina koo narraa mulqeera;
mataa koo irraas gonfoo fuudheera.
10 Inni hamma ani badutti gama hundaan na diiga;
abdii koo illee akkuma mukaa buqqisa.
11 Dheekkamsi isaa natti boba'a;
akkuma diina isaattis na heda.
12 Loltoonni isaa humnaan dhufanii
naannoo kootti da'annaa ijaarratan;
dunkaana koos ni marsan.

13 "Inni obboloota koo narraa fageesseera;
michoonni koos keessummaa natti ta'an.
14 Firoonni koo na dhiisaniiru;
michuuwwan koos na dagataniiru.
15 Keessumoonni mana koo jiranii fi
xomboreewwan koo akka alagaatti na ilaalan;
akka nama ormaattis na hedan.
16 Hojjetaa koo nan waama;
afaan kootiinis isa nan kadhadha;
inni garuu na jalaa hin owwaatu.
17 Hafuurri koo niitii kootti illee jibbisiisaa dha;
ani obboloota koottis xiraa'aa dha.
18 Ijoolleen xixinnoon iyyuu na tuffatu;
yommuu ani ka'us natti qoosu.
19 Michoonni koo kanneen walitti dhi'aannu hundi na balfan;

warri ani jaalladhus natti garagalan.
20 Ani gogaa fi lafeedha malee homaa miti;
gogaan ilkaanii qofti naaf hafeen jalaa ba’e.

21 “Garaa naa laafaa, yaa michoota koo garaa naa laafaa;
harki Waaqaa na dha’eeraatii.
22 Isin maaliif akkuma Waaqni na ari’u sana na ariitu?
Amma illee foon koo isin hin geenyee?

23 “Maaloo utuu dubbiin koo barreeffamee jiraatee!
Utuu kitaaba keessatti barreeffamee!
24 Utuu sibiilaan kattaa irratti barreeffamee
yookaan bara baraan dhagaa irratti qirixamee jiraatee!
25 Ani akka furiin koo jiraataa ta’e,
akka inni dhuma irratti lafa irra dhaabatus nan beeka.
26 Erga gogaan koo badee booddee,
ani amma iyyuu foon kootiin Waaqa nan arga;
27 ani mataan koo isa nan arga;
utuu nama biraa hin ta’in anuu ija kootiin isa nan arga.
Onneen koo akkam na keessatti gaggabdi!

28 “Yoo isin, ‘Sababii hiddi rakkina sanaa isa keessa jiruuf
nu akkamitti isa ariina?’ jettan,
29 sababii dheekkamsi goraadeedhaan adabamuu fiduuf
isin mataan keessan goraadee sodaachuu qabdu;
kunis akka isin akka murtiin jiru beektaniif.”

# 20

*Zoofaari*

1 Zoofaari Naa’imaatichi akkana jedhee deebise:
2 “Waan ani akka malee jeeqameef,
yaadni koo akka ani deebii kennu na kakaasa.
3 Ani dheekkamsa na qaanessu dhaga’aan jira;
qalbiin koos akka ani deebii kennu na kakaasa.

4 “Ati erga namni lafa irra kaa’amee bara duriitii jalqabee
wanni kun akkam akka ture ni beekta mitii?
5 Burraaquun jal’ootaa yeroo gabaabaaf tura;
gammachuun warra Waaqaaf hin bullees akkuma liphsuu ijaa ti.
6 Of tuulummaan isaa samiiwwan ga’ee
mataan isaa duumessawwan tuqus,
7 inni akkuma awwaaraa bara baraan bada;
warri duraan isa arganis, ‘Inni eessa jira?’ jedhu.
8 Inni akkuma abjuu fiigee bada; deebi’ees hin argamu;
akkuma mul’ata halkaniis dafee dhabama.
9 Iji isaa argee ture deebi’ee isa hin argu;
iddoon isaas si’achi isa hin ilaalu.
10 Ijoolleen isaa hiyyeeyyiif beenyaa baasu;
harki isaas qabeenya inni saame deebisee kennuu qaba.
11 Jabinni dargaggummaa kan lafee isaa keessa guute sun,
isa wajjin biyyoo keessa ciisa.

12 “Hamminni afaan isaa keessatti mi’aawee
inni arraba isaa jala dhokfatu iyyuu,
13 inni afaanii baafatee gatuu jibbee
afaanuma ofii isaa keessa turfatu iyyuu,
14 nyaanni isaa garaa isaa keessatti dhangaggaa’a;
isa keessattis hadhaa bofaa ta’a.
15 Inni qabeenya liqimse sana ni tufa;
Waaqnis akka garaan isaa waan sana diddigu ni godha.
16 Inni summii bofaa xuuxa;
arrabni buutiis isa ajjeesa.
17 Inni laga yaa’u,
burqaa dammaatii fi dhadhaa hin argu.
18 Inni waan itti dadhabe utuu hin nyaatin deebisa;
bu’aa daldala isaa irraa argatettis hin gammadu.
19 Inni hiyyeeyyii hacuucee harka duwwaa hambiseeraatii;
mana ofii hin ijaarinis humnaan fudhateera.

20 “Hawwii isaa hamaa sana irraa boqonnaa hin argatu;
inni qabeenya isaatiin of oolchuu hin danda’u.
21 Wanni inni nyaatu tokko iyyuu hin hafuuf;
badhaadhummaan isaas itti fufee hin jiraatu.
22 Utuma inni waan hunda qabuu rakkinni isatti dhufa;
dhiphinni cimaanis isa qabata.
23 Yeroo inni garaa isaa guutatutti,
Waaqni dheekkamsa isaa sodaachisaa sana itti erga;
dha’icha isaa illee itti roobsa.
24 Inni mi’a lolaa sibiilaa baqatu illee,
xiyya naasiitu isa waraana.
25 Dudga isaa keessaa xiyya,
tiruu isaa keessaa immoo fiixee calaqqisu buqqisa.
Sodaan guddaan isa qabata;
26 dukkanni limixiinis riphee qabeenya isaa eeggata.
Ibiddi namni tokko iyyuu hin afarsin gubee isa fixa;
waan dunkaana isaa keessatti hafes ni barbadeessa.
27 Samiiwwan balleessaa isaa saaxilu;
laftis isatti kaati.
28 Guyyaa dheekkamsa Waaqaatti lolaan mana isaa,
bishaan yaa’us mi’a isaa fudhatee deema.
29 Carraan Waaqni cubbamootaaf kennu,
dhaalli Waaqni isaaniif qoodes kanuma.”

# 21

*Iyyoob*

1 Iyyoob akkana jedhee deebise:
2 “Dubbii koo qalbeeffadhaa dhaggeeffadhaa;
kun waan isin ittiin na jajjabeessitan haa ta’u.
3 Yeroo ani dubbadhu naa obsaa;
erga ani dubbadhee booddee isin natti qoosuu dandeessu.

4 “Dhugumaan kan ani komadhu namaa?
Ani maaliif obsa hin dhabne ree?

5 Na ilaalaatii dinqisiifadhaa; harka keessanis
afaan keessan irra kaa'adhaa.
6 Ani yommuu waan kana yaadu nan sodaadha;
hollannaanis na qabata.
7 Hamoonni maaliif itti fufanii lubbuun jiraatu?
Maaliif dulloomanii humnas argachaa deemu?
8 Ijoolleen isaanii naannoo isaaniitti,
sanyiin isaaniis fuula isaanii duratti jabaatanii dhaabatu.
9 Manni isaanii nagaa dha; waan sodaatu illee hin qabu;
uleen Waaqaas isaan hin tuqxu.
10 Kormi isaanii dhalchuu hin dadhabu;
saawwan isaanii ni dhalu; hin gatatanis.
11 Isaan ijoollee isaanii akkuma bushaayeetti bobbaasu;
daa'imman isaanii immoo ni burraaqu.
12 Dibbee fi kiraaraan sirbu;
sagalee ululleetiinis ni gammadu.
13 Isaan bara isaanii badhaadhummaadhaan fixatu;
nagaadhaanis ni awwaalamu.
14 Ta'u illee isaan Waaqaan akkana jedhu; 'Nu dhiisi!
Nu karaa kee beekuuf fedhii hin qabnu.
15 Akka nu isa tajaajilluuf Waaqni waan Hunda Danda'u eenyu?
Nu isa kadhannee maal arganna?'
16 Badhaadhummaan isaanii garuu isaan harka hin jiru;
kanaafuu ani gorsa hamootaa irraa nan fagaadha.

17 "Garuu ibsaan hamootaa yoom iyyuu ni dhaamaa?
Balaan yoom iyyuu isaanitti dhufaa?
Waaqnis dheekkamsa isaatiin badiisa isaanitti fidaa?
18 Isaan akkuma cidii fuula qilleensaa duraa ti;
akkuma habaqii bubbeen hamaan fudhatee deemuu ti.
19 Isin, 'Waaqni balleessaa nama tokkoo ilmaan isaatiif kuusa' jettu.
Akka inni waan kana beekuuf Waaqni namichuma mataa isaatiif
gatii isaa haa kennu!
20 Iji isaa badiisa isaa haa argu;
inni xoofoo dheekkamsa Waaqa Waan Hunda Danda'uu haa dhugu.
21 Inni yeroo ji'i isaaf qoodame dhumutti,
waa'ee maatii isaa kan dhiisee biraa deemu sanaa
dhimma maalii qabaata?

22 "Namni tokko iyyuu Waaqa beekumsa barsiisuu danda'aa?
Waaqni ol aantotatti iyyuu ni muraatii.
23 Namni tokko utuma itti tolee nagaan jiraatuu,
utuma humna guutuu qabuu,
24 utuma dhagni isaa gabbatee jiruu, utuma lafeen isaa
dhukaan guutamee jiruu ni du'a.
25 Namni biraa immoo utuu gammachuu tokko illee hin argin,
jireenya hadhaa'aa jiraachaa du'a.
26 Isaan biyyoo keessa wal bira ciciisu;
lachan isaaniittuu raammoon ni tuuta'a.

27 "Ani yaada keessanii fi

mala isin ittiin na miidhuu barbaaddan nan beeka.
28 Isin, ‘Manni namicha guddaa,
dunkaanni namoonni hamoon keessa jiraatan amma eessa jira?’ jettu.
29 Isin namoota karaa deeman hin gaafannee?
Waan isaan jedhanis hin qalbeeffannee?
30 Akka namni hamaan guyyaa balaa oolfamu,
akka inni guyyaa dheekkamsaa illee baraaramu hin qalbeeffannee?
31 Namni fuuluma isaa dura dhaabatee hojii isaa itti himu eenyu?
Namni gatii waan inni hojjetee baasuuf eenyu?
32 Inni gara awwaalaatti geeffama;
awwaalli isaas ni eegama.
33 Biyyoon sulula keessaa isatti mi’aawa;
namoonni hundi isa duukaa bu’u;
namoonni akka malee baay’eenis fuula isaa dura deemu.

34 “Yoos isin akkamiin waan faayidaa hin qabneen
na jajjabeessuu dandeessu ree?
Deebiin keessanis soba qofa!”

# 22

*Eliifaaz*

1 Eliifaaz Teemaanichi akkana jedhee deebise:
2 “Namni Waaqa fayyaduu danda’aa?
Namni ogeessi iyyuu maal isa fayyada?
3 Yoo ati nama qajeelaa taate wanni kun Waaqa Waan Hunda Danda’uuf
gammachuu maalii kenna?
Yoo karaan kee hir’ina qabaachuu baates inni bu’aa maalii argata?

4 “Wanni Waaqni sitti dheekkamee murtiitti si dhi’eessuuf
waan ati isa sodaattuufii?
5 Hamminni kee guddaa dha mitii?
Cubbuun kees dhuma hin qabu mitii?
6 Ati sababii malee obboloota kee irraa qabdii fudhatteerta;
namoota irraa uffata baaftee qullaa isaan hambifteerta.
7 Warra dadhaban bishaan hin obaafne;
kanneen beela’anis nyaata dhowwatteerta;
8 namni humna qabu biyya qabaata;
kan ulfina qabus keessa jiraata.
9 Ati dubartoota dhirsoonni irraa du’an harka duwwaa gad dhiifte;
irree ijoollee abbaa hin qabnees ni cabsite.
10 Kanaafuu kiyyoon si marseera;
sodaan tasaas si qabateera.
11 Akka ati hin argineef ifni kee dukkanaa’eera;
lolaan bishaaniis sirra garagala.

12 “Waaqni samii keessa ol fagoo jiraata mitii?
Inni urjiiwwan ol fagoo jiran illee hammam akka ol fagaatan of jalatti gad ilaala!
13 Ati garuu akkana jetta; ‘Waaqni maal beeka?
Inni dukkana akkasii keessatti murtii kennaa?
14 Yommuu inni bantii samii irra deemu,

akka inni nu hin argineef duumessi gobbuun isa haguuga.'
15 Ati daandii durii
kan namoonni hamoon irra deeman duukaa buutaa?
16 Isaan utuu yeroon isaanii hin ga'in fudhataman;
hundeen isaanis lolaadhaan haxaa'ame.
17 Isaanis Waaqaan, 'Nu dhiisi! Waaqni Waan Hunda Danda'u
maal nu gochuu danda'a?' jedhan.
18 Garuu kan mana isaanii waan gaariin guute isuma;
kanaafuu ani gorsa hamootaa irraa nan fagaadha.
19 Qajeelonnis badiisa isaanii arganii ni gammadu;
warri balleessaa hin qabnes akkana jedhanii isaanitti qoosu;
20 'Dhugumaan amajaajonni keenya balleeffamaniiru;
qabeenya isaaniis ibiddi barbadeesseera.'

21 "Waaqaan walii gali; isa wajjinis nagaan jiraadhu;
haala kanaanis wanni gaariin siif dhufa.
22 Afaan isaatii qajeelfama fudhadhu;
dubbii isaa illee garaatti qabadhu.
23 Yoo gara Waaqa Waan Hunda Danda'uutti deebite,
ati ni haaromfamta;
yoo dunkaana kee keessaa hammina balleessitee
24 warqee kee biyyoo keessa buufte,
yoo warqee Oofiirii immoo dhagaa keessatti gatte,
25 yoos Waaqni Waan Hunda Danda'u warqee,
meetii filatamaas siif ta'a.
26 Ati yeroo sanatti Waaqa Waan Hunda Danda'utti ni gammadda;
fuula kees gara Waaqaatti ol qabatta.
27 Ati isa kadhatta; inni si dhaga'a;
ati immoo wareega kee ni baafatta.
28 Wanni ati murteessite ni ta'a;
ifnis karaa kee irratti ni ifa.
29 Yeroo namoonni gad qabamanitti ati immoo, 'Ol isaan qabi!' jetta;
innis warra gad qabaman ni baraara.
30 Inni nama balleessaa qabu illee ni oolcha;
ati qulqullummaa harka keetiitiin furamta."

# 23

*Iyyoob*

1 Iyyoob akkana jedhee deebise:
2 "Har'a iyyuu guungummiin koo hadhaa'aa dha;
yoo ani akkam aade iyyuu harki isaa natti ulfaateera.
3 Ani utuun iddoo itti isa argadhu beekee,
utuu iddoo inni jiraatu illee dhaquu danda'ee!
4 Silaa dhimma koo fuula isaa duratti dhi'eeffadhee
afaan koo falmiin guuttadha ture.
5 Waan inni naa deebisu nan beekan ture;
waan inni naan jedhus nan hubadhan ture.
6 Inni humna isaa guddaa sanaan anaan mormaa?
Lakki, na dhaggeeffata malee.
7 Namni qajeelaan achuma fuula isaa duratti dhimma isaa ni dhi'eeffata;
anis isa natti muru jalaa bara baraan nan ba'a.

8 “Garuu yoo ani gara ba’a biiftuu deeme, inni achi hin jiru;
ani yoo gara dhi’aa dhaqes achitti isa hin argadhu.
9 Yommuu inni kaabatti hojii irra jirutti ani isa hin argu;
yommuu inni gara kibbaatti deebi’uttis
ani hamma libsuu ijaa isa arguu hin danda’u.
10 Inni garuu karaa ani ba’u ni beeka;
yommuu inni na qoruttis ani akka warqee ta’ee nan mul’adha.
11 Miilli koo tarkaanfii isaatti dhi’aatee duukaa bu’eera;
ani utuun irraa hin gorin karaa isaa eegeera.
12 Ani ajaja afaan isaa irraa hin fagaanne;
nyaata guyyaa guyyaa caalaas dubbii afaan isaa nan jaalladha.

13 “Inni garuu of danda’ee kophaa isaa dhaabata;
kan isaan mormuu danda’u eenyu?
Inni waanuma jaallatu hojjeta.
14 Inni waan natti mure ni raawwata;
amma illee karoora akkanaa hedduu yaada isaa keessaa qaba.
15 Wanni ani fuula isaa duratti na’uufis kanuma;
ani yommuun waan kana hunda yaadutti isa nan sodaadha.
16 Waaqni garaa koo ni raase;
Waaqni Waan Hunda Danda’u na sodaachise.
17 Haa ta’u malee dukkanni,
dukkanni limixiin fuula koo haguugu iyyuu na hin barbadeessine.

# 24

1 “Waaqni Waan Hunda Danda’u sun maaliif yeroo murtii hin murteessine?
Warri isa beekan maaliif akkasumaan guyyoota isaa hin argine?
2 Namoonni dhagaa daarii ni dhiibu;
bushaayee hataniis ni bobbaasu.
3 Isaan harree ijoollee abbaa hin qabnee ooffatanii deemu;
sangaa haadha hiyyeessaa qabdii fudhatu.
4 Rakkataa karaa irraa balleessu;
hiyyeeyyiin biyyaa hundis isaan jalaa dhokatu.
5 Hiyyeeyyiin akkuma harree diidaa kan gammoojjii keessaa
nyaata barbaacha asii fi achi jooru;
gammoojjii sana keessaas ijoollee isaaniitiif nyaata kenna.
6 Isaan dirree irratti okaa walitti qabatu;
iddoo dhaabaa wayinii nama hamaa irraas qarmii funaannatu.
7 Uffata dhabanii halkan qullaa bulu;
waan dhaamocha keessatti uffatan tokko illee hin qaban.
8 Isaan bokkaa tulluutiin tortoraniiru;
waan itti da’atan illee dhabanii kattaa hammatu.
9 Mucaan abbaa hin qabne harma irraa butameera;
daa’imni hiyyeessaa qabdii kennameera.
10 Isaan uffata dhabanii qullaa deemu;
bissii baatu; garuu ni beela’u.
11 Isaan dhagaa gidduutti zayitii ejersaa baasu;
wayinii cuunfu; garuu ni dheebotu.
12 Aaduun warra du’uutti jiranii magaalaa keessaa ni dhaga’ama;
lubbuun warra madaa’aniis gargaarsa barbaacha iyyiti.

Waaqni garuu balleessaa tokko iyyuu isaanitti hin lakkaa'u.

13 "Warri ifatti fincilan kanneen daandii isaa hin beekne
yookaan daandii ifaa irra hin jiraanne jiru.
14 Yommuu aduun dhiitu, namni nama ajjeesu ni ka'a;
innis hiyyeeyyii fi rakkattoota ni ajjeesa;
halkan immoo akkuma hattuu ta'a.
15 Iji ejjaan dimimmisa eeggata;
innis, 'Iji na argu hin jirtu' jedha;
fuula isaas ni dhokfata.
16 Namoonni dukkana keessa mana cabsanii seenu;
guyyaa garuu ofitti cufanii oolu;
isaan ifa hin beekan.
17 Hunda isaaniitiif, dukkanni guddaan barii isaanii ti;
isaan sodaa dukkana guddaatti michoomu.

18 "Ta'us isaan hoomacha bishaan gubbaa ti;
akka namni tokko iyyuu gara iddoo dhaabaa wayinii hin dhaqneef,
qoodni lafa isaanii abaarameera.
19 Akkuma ho'ii fi hoongeen cabbii baqee xuuxee fixu,
awwaalli namoota cubbuu hojjetan ni butata.
20 Gadameessi isaan irraanfata;
raammoonnis itti duuddee isaan nyaatti;
namoonni hamoon akkuma mukaa ni caccabu;
si'achis hin yaadataman.
21 Isaan dubartii dhabduu ni saamu;
haadha hiyyeessaatiif illee garaa hin laafan.
22 Waaqni garuu humna isaatiin jajjaboota alatti harkisa;
isaan ol ka'u; garuu wabii jireenyaa hin qaban.
23 Inni akka isaan waan nagaan jiraatan se'aniif ittuma dhiisuu danda'a;
iji isaa garuu karaa isaanii ni to'ata.
24 Isaan yeroo xinnoof mataa ol qabatu; ergasii immoo ni badu;
gad deebifamaniis akkuma warra kaanii walitti qabamu;
akkuma mataa midhaaniis ni muramu.

25 "Yoo kun akkas ta'uu baate
eenyutu sobduu na godhee dubbii koo busheessa?"

# 25

*Bildaad*

1 Bildaad Shuhaahichi akkana jedhee deebise:
2 "Mootummaa fi sodaatamuun kan Waaqaa ti;
inni samiiwwan ol fagoo keessatti nagaa buusa.
3 Loltoonni isaa lakkaa'amuu danda'uu?
Ifni isaa eenyu irratti utuu hin ba'in hafa?
4 Yoos namni akkamitti fuula Waaqaa duratti qajeelaa ta'uu danda'a ree?
Namni dubartii irraa dhalate akkamitti qulqulluu ta'uu danda'a?
5 Yoo ji'i illee fuula isaa duratti hin ifne,
yoo urjiiwwanis ija isaa duratti qulqulluu ta'uu baatan,
6 namni raammoo foonii ta'e,
ilmi namaa kan raammoo ta'e sun hammam kanaa gad haa ta'u ree!"

# 26

*Iyyoob*

1 Iyyoob akkana jedhee deebise:
2 “Ati nama humna hin qabne hammam gargaarte!
Irree laafes hammam jajjabeessite!
3 Nama ogummaa hin qabneef gorsa akkamii kennite!
Beekumsa guddaa akkamiis argisiifte!
4 Akka ati dubbii kana dubbattuuf eenyutu si gargaare?
Hafuura eenyuutu afaan kee keessaa dubbate?

5 “Warri du’an, warri bishaanii gadiitii fi
kanneen bishaan keessa jiraatan hundii ni hollatu.
6 Duuti fuula Waaqaa duratti qullaa jira;
badiisnis waan isa dhoksu hin qabu.
7 Waaqni iddoo duwwaa irra samii kaabaa diriirsa;
lafas iddoo duwwaa irratti rarraasa.
8 Inni duumessa isaatiin bishaanota hidhee qaba;
duumessi sunis bishaanota jalatti hin dho’u.
9 Inni duumessoota isaa itti uffisuudhaan
fuula ji’aa ni haguuga.
10 Inni fuula bishaanotaa irratti,
ifaa fi dukkana gidduu daarii dhaabe.
11 Utubaawwan samii ni hollatu;
dheekkamsa isaatiinis ni rifatu.
12 Inni humna isaatiin galaana ni raasa;
ogummaa isaatiinis Ra’aabin ni ciccira.
13 Hafuura baafatuun samiiwwan qulqulleesse;
harki isaas bofa shawwisaa waraane.
14 Wantoonni kunneen hojii isaa keessaa qarqaruma qofa;
hasaasni nu waa’ee isaa dhageenyu hammam xinnaa dha!
Yoos kakawwee humna isaa eenyutu hubachuu danda’a ree?”

# 27

1 Iyyoob haasaa isaa itti fufee akkana jedhe:
2 “Dhugaa Waaqa jiraataa murtii qajeelaa na dhowwate,
Waaqa Waan Hunda Danda’u kan lubbuu koo hadheesse sanaa,
3 hamma lubbuun na keessa jirtutti,
hamma hafuurri Waaqaa funyaan koo keessa jirutti,
4 afaan koo hammina hin dubbatu;
arrabni koos nama hin gowwoomsu.
5 Isin qajeeltota jechuu, Waaqni ana irraa haa fagaatu;
ani hamman du’utti amanamummaa koo hin dhiisu.
6 Qajeelummaa koo jabeessee nan qabadha; gadis hin dhiisu;
bara jireenya kootii guutuu qalbiin koo na hin komattu.

7 “Diinni koo akka nama hamaa, mormituun koo
akka nama jal’aa haa ta’u!
8 Yommuu Waaqni lubbuu isaa isa irraa fudhatee isa balleessutti,
namni Waaqaaf hin bulle abdii maalii qaba?
9 Yeroo rakkinni isatti dhufutti,
Waaqni iyya isaa ni dhaga’aa?

10 Inni Waaqa Waan Hunda Danda’utti ni gammadaa?
Yeroo hundas Waaqa waammataa?

11 “Ani waa’ee harka Waaqaa isin nan barsiisa;
waan Waaqa Waan Hunda Danda’u bira jirus isin hin dhoksu.
12 Hundi keessan waan kana argitaniirtu;
yoos haasaan faayidaa hin qabne kun maali?

13 “Carraan Waaqni nama hamaaf qoode,
dhaalli namni jal’aan Waaqa Waan Hunda Danda’u irraa argatu kana:
14 Ijoolleen isaa akka malee baay’atan iyyuu goraadeetu isaan eeggata;
sanyiin isaas waan nyaatee quufu hin qabaatu.
15 Hambaa isaa dha’ichatu awwaala;
niitonni isaaniis hin boo’aniif.
16 Inni meetii akkuma biyyootti tuullatee
uffata immoo akkuma supheetti kuufatu illee,
17 waan inni kuufate nama qajeelaatu uffata;
meetii isaa illee nama balleessaa hin qabnetu qooddata.
18 Manni inni ijaaru akkuma mana dholdholee ti;
akkuma daasii eegduun ijaaruu ti.
19 Inni utuma qabeenya qabuu dhaqee ciisa; garuu itti hin deebi’u;
yeroo inni ija banatutti, qabeenyi isaa hundi hin jiru.
20 Sodaan akkuma lolaa isa irra garagala;
bubbeen hamaan immoo halkaniin isa fudhatee sokka.
21 Bubbeen ba’a biiftuu isa fudhata;
innis hin argamu; bubbeen sunis lafa inni jiru irraa isa haxaa’a.
22 Inni humna bubbee jalaa ba’uuf jedhee baqata;
bubbeen sunis gara laafina tokko malee itti of darbata.
23 Harka isaa dhadha’ee itti qoosa;
afuufees iddoo isaatii isa balleessa.”

# 28

1 Dhugumaan iddoon meetiin keessaa qotamu,
lafti warqeen itti baafamee qulqulleeffamu jira.
2 Sibiilli lafa keessaa baafama;
sibiilli diimaan immoo dhagaa albuudaa irraa baqfama.
3 Namni hamma dhuma dukkanaatti deema;
moggaa akka malee fagoo dhaqees,
dukkana hamaa keessa dhagaa albuudaa barbaada.
4 Inni lafa namoonni jiraatan irraa fagaatee
iddoo miilli namaa ejjetee hin beeknetti boolla qota;
namoota irraa fagaatee ni rarra’a; asii fi achis ni raafama.
5 Lafa irraa garuu nyaatatu argama;
jala isheetiin immoo akka waan ibidda taateetti geeddaramti;
6 dhagaan isaa burqaa sanpeerii ti;
biyyoon isaas warqee qaba.
7 Allaattiin tokko iyyuu karaa dhokfame sana hin beeku;
iji culullees karaa sana hin argine.
8 Bineensonni sodaachisoon irra hin ejjenne;
leencis karaa sana hin darbine.
9 Harki namaa dhagaa jabaa cabsa;

hundee tulluuwwanii immoo ni gaggaragalcha.
10 Inni kattaa keessaan karaa baasa;
iji isaas waan gatii guddaa hunda arga.
11 Madda lageenii ni sakatta'a;
waan dhokfames ifatti ni baasa.

12 Ogummaan garuu eessaa argamti?
Hubannaanis eessa jiraata?
13 Namni gatii isaa hin beeku;
inni biyya jiraattotaa keessatti hin argamu.
14 Tujubni, “Inni na keessa hin jiru” jedha;
galaannis, “Inni na bira hin jiru” jedha.
15 Warqeen qulqulluun isa bituu hin danda'u;
gatiin isaas meetiidhaan hin madaalamu.
16 Warqee Oofiiriitti, dhagaa gatii guddaa sardooniksiitti
yookaan sanpeeriitti hin tilmaamamu.
17 Warqee fi dhagaan akka bilillee calaqqisu ittiin hin qixxaatu;
inni faaya warqee qulqulluutiin hin geeddaramu.
18 Elellaanii fi dooqni akka waan gatii qabaniitti hin hedaman;
gatiin ogummaa lula diimaa caala.
19 Tophaaziyooniin Itoophiyaa itti qixxaatu;
warqee qulqulluudhaanis bitamuu hin danda'u.

20 Yoos ogummaan eessaa dhufti ree?
Hubannaanis eessa jiraatti?
21 Isheen ija uumama hundaa jalaa dhokatteerti;
simbirroota samii jalaas baddeerti.
22 Badiisnii fi Duuti, “Nu oduu ishee qofa
gurra keenyaan dhageenye” jedhu.
23 Waaqa qofatu daandii gara ishee geessu hubatee,
lafa inni jiraatus beeka;
24 inni handaara lafaa ni ilaala;
waan samii jala jiru hunda ni argaatii.
25 Inni yommuu bubbeedhaaf humna kennee
bishaanota safaretti,
26 yommuu bokkaadhaaf seera dhaabee
bakakkaaf immoo daandii baasetti,
27 inni ogummaa ilaalee madaale;
jabeessee dhaabee ishee qorate.
28 Ergasii ilmaan namaatiin,
“Gooftaa sodaachuun ogummaa;
waan hamaa irraa fagaachuunis hubannaa dha” jedhe.

# 29

1 Iyyoob haasaa isaa itti fufee akkana jedhe:
2 “Ani ji'oota darban, bara Waaqni na eege sana
akkamin hawwa ture,
3 yeroo ibsaan isaa mataa koo irratti ife, anis ifa isaatiin
dukkana keessa darbee yeroon deeme,
4 yeroo ani nama jabaa ture,
yeroo michummaan Waaqaa mana koo eebbise,

5 yeroo Waaqni Waan Hunda Danda’u na wajjin ture,
yeroo ijoolleen koo naannoo koo turan,
6 yeroo daandiin koo dhadhaadhaan jiifame,
yeroo kattaanis laga zayitii ejersaa naaf yaase.

7 “Yeroo ani gara karra magaalaatti gad ba’ee
oobdii sabaa keessa barcuma koo irra taa’e,
8 dargaggeeyyiin na arganii karaa irraa goru;
maanguddoonnis ka’anii dhaabatu ture;
9 hangafoonni sabaa dubbii afaanitti qabatanii
harka isaanii afaan irra kaa’atu ture;
10 sagaleen namoota bebeekamoo hin dhaga’amu ture;
arrabni isaaniis laagaa isaaniitti ni maxxana ture.
11 Namni na dhaga’u kam iyyuu na jaja;
kanneen na arganis na galateeffatu ture;
12 ani hiyyeessa gargaarsa barbaachaaf boo’u,
nama abbaa hin qabne kan namni isa gargaaru tokko iyyuu hin jirre fureeraatii.
13 Namni du’uu ga’e na eebbiseera;
ani akka garaan haadha hiyyeessaa gammachuun ililchus godheera.
14 Qajeelummaa akka uffata kootti uffadheera;
murtiin qajeelaan immoo uffata koo fi marata mataa koo ture.
15 Ani nama jaameef ija,
okkolaaf immoo miilla ta’een ture.
16 Ani rakkataadhaaf abbaan ture;
nama ormaatiif illee nan falman ture.
17 Qarriffaa nama hamaa nan cabse;
waan inni qabates afaan isaatii buuseera.

18 “Ani akkana jedheen yaadee ture; ‘Manuma koo keessattin du’a;
barri jireenya kootiis akkuma cirrachaa baay’ata.
19 Hiddi koo gad fagaatee bishaan qaqqaba;
fixeensis halkan guutuu dameewwan koo irra bula.
20 Ulfinni koo na keessatti haaraa ta’ee jiraata;
iddaanis harka koo keessatti haaromfama.’

21 “Namoonni cal’isanii gorsa koo eeggachaa
abdiidhaan na dhaggeeffatu.
22 Erga ani dubbadhee booddee isaan deebi’anii hin dubbanne;
dubbiin koos akka gaariitti gurra isaanii seena ture.
23 Isaan akkuma nama bokkaa eeggatuutti na eeggatan;
dubbii koos akkuma bokkaa arfaasaa dhugan.
24 Yeroo ani isaaniif seequtti isaan hin amanne;
ifni fuula koos isaaniif waan guddaa ture.
25 Ani karaa isaaniif filee akka hangafa isaaniitti nan taa’e;
akka mootii loltoota isaa gidduu jiraatuutti nan jiraadhe;
ani akka nama warra boo’an jajjabeessuus ta’e.

## 30

1 “Amma garuu warri umuriidhaan naa gadii,
kanneen ani abbootii isaanii

saroota hoolota koo tiksitu wajjin iyyuu
madaaluu tuffadhe, kunoo natti qoosu.
2 Warra humna dhaban,
jabinni irree isaanii maal na fayyada?
3 Isaan rakkinaa fi beelaan laafan;
lafa gogaa keessa,
gammoojjii namni keessa hin jiraanne keessa halkaniin jooran.
4 Daggala keessaa biqiltuu soogiddaa funaannatan;
nyaanni isaaniis hidda mukaa kan hin mi’oofne ture.
5 Isaan namoota gidduudhaa ari’aman;
namoonnis akkuma waan hattuutti iyyaniitti itti iyyan.
6 Isaan akka laga gogaa keessa,
kattaa gidduu fi boolla lafaa keessa jiraataniif dirqamaman.
7 Bosona keessatti ni halaaku;
daggala keessattis walitti tuuta’u.
8 Isaan gowwoota maqaa hin qabne,
kanneen biyyaa ari’aman turan.

9 “Amma ilmaan isaanii sirba natti baafatan;
ani isaan gidduutti waan kolfaa ta’eera.
10 Isaan xireeffatanii narraa fagaatan;
fuula kootti tufuu irraas duubatti hin deebi’an.
11 Sababii Waaqni iddaa koo laafisee gad na deebiseef,
isaan fuula koo duratti luugama baafatan.
12 Karaa mirga kootiin addaggeewwan ka’aniiru;
miilla kootiif kiyyoo kaa’aniiru;
biyyoos akka dallaa natti naannessan.
13 Isaan karaa koo natti cufu;
na galaafachuufis ni milkaa’u;
namni isaan dhowwu tokko iyyuu hin jiru.
14 Akkuma nama qaawwa bal’aan dhufuutti,
ona diigamaa keessa gangalachaa natti dhufu.
15 Sodaan na liqimseera; ulfinni koo akkuma waan
bubbeedhaan fudhatamuutti narraa fudhatameera;
badhaadhummaan koos akkuma duumessaa bada.

16 “Amma lubbuun koo na keessatti dhumteerti;
barri rakkinaas na qabateera.
17 Halkan keessa lafeen koo ni waraanama;
dhukkubbiin na nyaatus natti hin furu.
18 Waaqni humna jabaadhaan uffata koo qabeera;
akkuma morma wayyaa kootti hudhee na qabeera.
19 Inni darbatee dhoqqee keessa na buusa;
anis akkuma biyyoo fi daaraa ta’eera.

20 “Yaa Waaqi, ani sitti nan iyyadha; ati garuu deebii naa hin kennitu;
ani nan dhaabadha; ati garuu cal’istee na ilaalta.
21 Ati gara jabinaan natti garagalta;
irree kee jabaadhaanis na dhoofta.
22 Ol na buttee fuula bubbee dura na oofta;
bubbee hamaa keessas asii fi achi na aata.

23 Ani akka ati gara du’aatti,
gara mana warra lubbuun jiraatan hundaaf ramadameetti
na geessitu nan beeka.

24 “Dhuguma iyyuu yeroo inni rakkatee gargaarsa barbaachaaf iyyutti,
namni harka isaa isa irra kaa’u tokko iyyuu hin jiru.
25 Ani warra rakkina keessa jiraniif hin boonyee?
Lubbuun koos hiyyeeyyiif hin gaddinee?
26 Garuu utuu ani waan gaarii abdadhuu, wanni hamaan natti dhufe;
utuu ani ifa eeggadhuus, dukkanni natti dhufe.
27 Keessi koo jeeqamaa jira; gonkumaa hin qabbanoofne;
barri gidiraas natti dhufeera.
28 Ani jajjabina dhabee asii fi achi deemee nan boo’a;
waldaa keessa dhaabadhees gargaarsaaf nan iyya.
29 Ani obboleessa waangoo,
michuu urunguus ta’eera.
30 Gogaan koo gurraacha’ee qolli irraa ka’eera;
dhagni koos ho’aan boba’eera.
31 Baganaan koo boo’ichaaf, ululleen koo immoo
sagalee iyyaatiif qopheeffameera.

# 31

1 “Ani ija koo wajjin kakuu galeera;
yoos ani akkamiin hawwiidhaan gara durbaa ilaala ree?
2 Carraan namni Waaqa samii biraa qabu,
dhaalli inni Waaqa Waan Hunda Danda’u irraa argatu maali?
3 Hamootaaf badiisa,
warra jal’ina hojjetaniif immoo dha’icha mitii?
4 Inni karaa koo hin arguu?
Tarkaanfii koo hundas hin lakkaa’uu?

5 “Yoo ani karaa sobaa irra deemee
yookaan miilli koo gara gowwoomsaatti ariifatee jiraate,
6 Waaqni madaalii dhugaatiin na haa madaalu;
akka ani hir’ina hin qabne illee haa beeku;
7 yoo tarkaanfiin koo karaa irraa goree,
garaan koo waan iji koo argu duukaa bu’ee jiraate
yookaan yoo harki koo xuraa’ee jiraate,
8 waan ani facaafadhe namni biraa haa nyaatu;
midhaan koos haa buqqifamu.

9 “Yoo garaan koo dubartiidhaan gowwoomfamee jiraate,
yookaan yoo ani balbala ollaa koo jalatti riphee eeggadhe,
10 niitiin koo midhaan nama biraa haa daaktu;
namoonni biraas ishee wajjin haa ciisan.
11 Kun hammina;
kan abbaa murtiitiinis adabamuu qabuu dha.
12 Kun ibidda hamma Barbadeessutti waa gubuu dha;
midhaan ani qabu hundas gubee balleessa ture.

13 “Yoo ani yeroo isaan na himatanitti,
tajaajiltoota koo dhiiraa fi dubartii
murtii qajeelaa dhowwadhee jiraadhe,
14 yeroo Waaqni ka’utti ani maalan godha?
Yoo inni na gaafates ani maalan deebisa?
15 Isuma gadameessa keessatti na uume sanatu isaan uume mitii?
Kan hunda keenya gadameessa keessatti tolches isuma mitii?

16 “Yoo ani waan hiyyeessaaf barbaachisu dhowwadhee jiraadhe,
yookaan yoo ani akka iji haadha hiyyeessaa dadhabu godhee jiraadhe,
17 yoo ani buddeena koo utuu ilma abbaa hin qabneef hin qoodin
kophaa koo nyaadhee jiraadhe,
18 ani garuu dargaggummaa kootii jalqabee akkuma abbaattin isa guddise;
dhaloota kootii jalqabees haadha hiyyeessaa karaa argisiise.
19 Ani yoon utuu namni tokko wayyaa dhabee akka malee miidhamuu,
yookaan rakkataa uffata of irraa hin qabne tokko argee
20 sababii ani rifeensa hoolota kootiin isa ho’iseef,
yoo garaan isaa na hin eebbisin,
21 yoo ani mana murtiitti fudhatama qaba jedhee
ijoollee abbaa hin qabnetti harka koo ol kaasee jiraadhe,
22 irreen koo gatiittii koo irraa haa buqqa’u;
irreen koo buusaa isaatti haa cabu.
23 Ani sababiin dha’icha Waaqaa sodaadhee fi
sababiin surraa isaa kabajeef waan akkanaa hojjechuu hin dandeenye.

24 “Yoo ani warqee abdadhee yookaan warqee qulqulluudhaan,
‘Ati irkoo koo ti’ jedhee jiraadhe,
25 yoo ani qabeenya koo guddaatti,
milkaa’ina harki koo argatetti gammadee jiraadhe,
26 yoo ani aduu iftu argee
yookaan ji’a miidhaginaan deemu ilaalee kabajee,
27 akkasiinis garaan koo dhoksaan gowwoomfamee
afaan koo harka koo dhungatee jiraate,
28 wanni kun cubbuu adabamuu qabuu dha;
ani Waaqa samiitiif hin amanamne tureetii.

29 “Yoo ani badiisa diina kootiitti gammadee
yookaan rakkina isa irra ga’eef ililchee jiraadhe,
30 ani jireenya isaa abaaruudhaan
akka afaan koo cubbuu hojjetu hin eeyyamne.
31 Yoo namoonni mana koo jiraatan,
takkumaa, ‘Eenyutu buddeena mana Iyyoob nyaatee hin quufin?’ hin jedhin,
32 sababii manni koo karaa deemtuuf banaa tureef,
keessummaan kam iyyuu ala hin bulu ture.
33 Yoo ani akkuma namoonni godhan sana balleessaa koo garaatti qabadhee
cubbuu koos dhokfadhee jiraadhe,
34 ani waldaa guddaa sodaadhee
yookaan tuffiin gosaa na naasisee,
cal’isee gad ba’uu dhiiseeraa?

35 “Maaloo ani utuu nama na dhaga’u argadhee!
Ani mallattoo falmii koo nan mallatteessa;
Waaqni Waan Hunda Danda’u deebii naaf haa kennu;
himataan koo dubbii isaa barreeffamaan haa dhi’eeffatu.
36 Dhugumaan ani gatiittii koo irratti waan kana nan baadha;
akka gonfoottis mataa irra nan kaa’adhan ture.
37 Tokkoo tokkoo tarkaanfii koo isatti nan hima;
akkuma ilma mootiittis isatti nan dhi’aadhan ture.

38 “Yoo lafti koo natti iyyitee
bo’oon ishee hundinuu imimmaaniin jiidhe,
39 yoo ani kaffaltii malee midhaan ishee nyaadhe,
yookaan akka hojjettoonni isaa lubbuu isaanii dhaban godhee jiraadhe,
40 qooda qamadii qoraattiin,
qooda garbuus aramaan itti haa biqilu.”
Dubbiin Iyyoob xumurame.

# 32

*Eeliihuu*

1 Sababii Iyyoob nama qajeelaa of se’eef namoonni sadan kunneen deebii kennuufii
dhiisan. 2 Eliihuun ilmi Barakeel Buuzichi maatiin Raamii sun garuu sababii Iyyoob
qooda Waaqaa qajeelaa of godheef akka malee itti aare. 3 Akkasumas sababii isaan
Iyyoobitti muruu malee deebii hin qabaatiniif Eeliihuun michoota Iyyoob sadanitti
akka malee aare. 4 Eliihuun waan namoonni sun umuriidhaan isa caalaniif utuu
dursee Iyyoobitti hin dubbatin ture. 5 Garuu yeroo akka namoonni sun sadan waan
dubbatan dhaban argetti aariin isaa ittuma caale.
6 Kanaafuu Eliihuun ilmi Barakeel Buuzichaa sun akkana jedhe:
“Ani umuriidhaan xinnaa dha;
isin garuu jaarsolii dha;
kanaafuu ani yaada koo isinitti himuu
nan saalfadhe; nan sodaadhes.
7 Ani, ‘Umuriin ni dubbata;
barri dheeraanis ogummaa barsiisa’ jedhee yaadeen ture.
8 Garuu hafuura nama keessa jiru,
hafuura Waaqni Waan Hunda Danda’u itti baafatutu hubannaa kennaaf.
9 Ogeessi jaarsa qofa miti;
kan waan qajeelaa hubatus, nama umurii dheeraa qofa miti.

10 “Kanaafuu ani akkana nan jedhaa na dhaggeeffadhaa;
anis waanan beeku isinitti nan hima.
11 Ani yeroo isin dubbattan nan obse;
yeroo isin jechoota filattanitti illee
ani dubbii ogummaa kan isin dubbattan nan dhaggeeffadhe;
12 ani qalbeeffadheen isin dhaga’e.
Garuu isin keessaa namni tokko iyyuu akka inni dogoggore
Iyyoobin hin amansiifne;
namni tokko iyyuu falmii isaatiif deebii hin kennine.
13 Isin, ‘Nu ogummaa arganneerra;
nama utuu hin ta’in, Waaqni isa irra haa aanu’ hin jedhinaa.
14 Iyyoob garuu dubbii isaatiin na hin tuqne;
anis falmii keessaniin deebii isaaf hin kennu.

15 “Isaan abdii kutatanii waan jedhan dhaban;
dubbiinis isaan harkaa badde.
16 Erga isaan cal’isanii,
erga isaan deebii kennan tokko illee dhabanii achi dhadhaabatanii,
ani eeguun qabaa?
17 Ani deebii koo nan kenna;
waanan beeku nan hima.
18 Dubbiin na keessa guuteeraatii;
hafuurri na keessa jirus na kakaasa;
19 garaan koo akkuma daadhii wayinii kan qadaadamee,
akkuma qalqalloo daadhii wayinii haaraa dho’uun ga’eetii.
20 Ani dubbadhee qabbaneeffachuun qaba;
afaan koo banadhees deebii kennuun qaba.
21 Ani nama wal hin caalchisu;
yookaan nama tokko iyyuu hin saadu.
22 Utuu ani nama saaduu beekee,
Uumaan koo silaa dafee lafa irraa na balleessa ture.

# 33

1 “Yaa Iyyoob amma garuu ati dubbii koo dhaggeeffadhu;
waan ani jedhu hundas dhaga’i.
2 Kunoo ani afaan koo nan banadha;
dubbiin koos fiixee arraba kootii irra jira.
3 Dubbiin koo garaa qajeelaa keessaa ba’a;
hidhiin koos waan ani beeku ifatti baasee dubbata.
4 Hafuura Waaqaatu na uume;
hafuurri Waaqni Waan Hunda Danda’u baafatus jireenya naa kenna.
5 Egaa yoo dandeesse deebii naa kenni;
qophaa’iitii fuula koo dura dhaabadhu.
6 Ani fuula Waaqaa duratti namuma akka keetii ti;
anis biyyoo irraan hojjetame.
7 Ati na sodaattee hin raafamin;
harki koos sitti hin ulfaatin.

8 “Dhugumaan ati utuma ani dhaga’uu dubbatteerta;
anis dubbii kee dhaga’eera.
9 Ati akkana jetta: ‘Ani qulqulluu dha; cubbuu illee hin qabu;
ani balleessaa hin qabu; yakka illee hin hojjenne.
10 Waaqni garuu balleessaa narratti argeera;
akka diina isaattis na ilaaleera.
11 Miilla koo gudeelcha gidduu galchee hidha;
karaa koo hundas ni eega.’

12 “Garuu ani sitti nan hima; kana irratti ati qajeelaa miti;
Waaqni nama caalaa guddaadhaatii.
13 Ati maaliif akka waan inni
dubbii namaatiif deebii hin kennineetti isatti guungumta?
14 Namni hubachuu baattu iyyuu,
Waaqni karaa tokkoonis, karaa biraatiinis ni dubbata.
15 Inni utuma isaan siree isaanii irra ciisanuu,
yeroo hirribni cimaan isaan qabutti,

abjuudhaan, mul’ata halkaniitiinis,
16 gurra isaaniitti ni dubbata;
of eeggachiisaanis isaan rifachiisa;
17 jal’ina irraa nama deebisuuf,
of jajuu irraas isa dhowwuuf,
18 lubbuu isaa boolla irraa,
jireenya isaas goraadeedhaan baduu irraa oolchuudhaaf.

19 “Namni tokko dhiphina lafee isaa keessaa
kan gargar hin cinneen, siree dhiphinaa irratti ni adabama ta’a;
20 kanaafuu jireenyi isaa nyaata jibba;
lubbuun isaas nyaata filatamaa balfiti.
21 Foon isaa nyaatamee dhuma;
lafeen isaa kan duraan dhokatee ture sun alatti yaa’a.
22 Lubbuun isaa gara boollaatti,
jireenyi isaas ergamoota du’aatti dhi’aata.
23 Ta’us yoo kuma keessaa ergamaan Waaqayyoo tokko
akka itti qajeelaa ta’an isaanitti himuuf,
ergamaan Waaqaa isaanii dhaabatee jiraate,
24 yoo namichaaf garaa laafee ‘Boolla bu’uu irraa isa oolche;
ani furii isaaf argeen jira’ jedhe,
25 dhagni isaa akkuma dhagna daa’imaatti haaromfama;
akka bara dargaggummaa isaattis ni deebi’a.
26 Inni Waaqa ni kadhata; isa birattis fudhatama argata;
fuula Waaqaa ni arga; ni ililchas;
Waaqnis gara qajeelummaa isaa kan duriitti isa ni deebisa.
27 Ergasiis gara namootaa dhufee akkana jedha;
‘Ani cubbuu hojjedheera; waan qajeelaas jal’iseera;
garuu waan naa malu hin arganne.
28 Inni akka isheen boolla hin buuneef lubbuu koo fureera;
anis jiraadhee ifa nan arga.’

29 “Waaqni waan kana hunda
yeroo lama, yeroo sadii iyyuu namaaf ni godha.
30 Kanas akka ifni jireenyaa isaaf ifuuf,
lubbuu isaas boolla irraa deebisuuf godha.

31 “Yaa Iyyoob qalbeeffadhuutii na dhaggeeffadhu;
ati cal’isi; ani nan dubbadhaa.
32 Yoo waan jettu tokko illee qabaatte deebii naa kenni;
dubbadhu, ani akka ati qajeelaa taate mirkaneessuu nan barbaadaatii.
33 Yoo akkas ta’uu baate garuu na dhaggeeffadhu;
cal’isi, anis ogummaa sin barsiisaa.”

# 34

1 Eliihuun akkana jedhe:
2 “Yaa ogeeyyii, dubbii koo dhaga’aa;
beektonnis na dhaggeeffadhaa.
3 Akkuma arrabni nyaata afaaniin qabu,
gurris dubbii calalaatii.

4 Waan qajeelaa ta’e ofii keenyaaf haa filannu;
waan gaariis tokkummaadhaan haa barannu.

5 “Iyyoob akkana jedha; ‘Ani qajeelaa dha;
Waaqni garuu murtii qajeelaa narraa fudhate.
6 Ani utuman nama dhugaa ta’ee jiruu,
akka sobduuttin herregame;
ani yakka qabaachuu baadhu illee
xiyyi isaa madaa hin fayyineen na madeesseera.’
7 Namni akka bishaaniitti tuffii dhugu,
kan akka Iyyoob eenyu?
8 Inni warra hammina hojjetu wajjin walii gala;
jal’oota wajjinis tokkummaa qabaata.
9 Inni, ‘Waaqa gammachiisuu yaaluun,
namaaf faayidaa tokko iyyuu hin qabu’ jedhaatii.

10 “Kanaafuu isin yaa hubattoota, na dhaga’aa.
Waan hamaa hojjechuun Waaqa irraa,
dogoggoruunis Waaqa Waan Hunda Danda’u irraa haa fagaatu.
11 Inni namaaf akkuma hojii isaatti gatii ni kenna;
waan karaa isaatiif malus itti fida.
12 Dhugumaan Waaqni hammina hin hojjetu;
Waaqni Waan Hunda Danda’u murtii qajeelaa hin jal’isu.
13 Eenyutu lafa irratti isa muude?
Eenyutus addunyaa guutuu isatti kenne?
14 Utuu inni hafuura isaa deebisee fudhatee,
hafuura baafatu illee gara ofii isaatti deebifatee,
15 silaa sanyiin namaa hundi walumaan bada;
namnis biyyootti deebi’a ture.

16 “Ati yoo hubannaa qabaatte waan kana dhaga’i;
waan ani jedhus dhaggeeffadhu.
17 Namni murtii qajeelaa jibbu bulchuu danda’aa?
Atis isa qajeelaa fi humna qabeessa sanatti murtaa?
18 Kan moototaan, ‘Isin faayidaa hin qabdan;’ jedhee
qondaaltotaanis, ‘Isin hamoo dha’ jedhu isa mitii?
19 Inni ilmaan moototaatiif illee hin looguu;
sooreyyii fi hiyyeeyyii wal hin caalchisu;
hundi isaanii hojii harka isaatii.
20 Isaan halkan walakkaa tasa du’u;
namoonni hollatanii dhumu;
jajjaboonnis utuma harki namaa isaan hin tuqin ni badu.

21 “Iji isaa karaa namootaa irra jira;
inni tarkaanfii isaanii hunda ni arga.
22 Iddoon warri waan hamaa hojjetan itti dhokatan,
dukkanni yookaan gaaddisni guddaan hin jiru.
23 Akka inni murtiidhaaf fuula isaa duratti dhi’aatuuf,
Waaqni nama kam iyyuu hin beellamu.
24 Inni gaaffii tokko malee namoota jajjaboo ni burkuteessa;
warra biraa immoo iddoo isaanii ni kaa’a.

25 Inni sababii hojii isaanii beekuuf,
halkan keessa isaan garagalcha; isaanis ni barbadaa'u.
26 Sababii jal'ina isaaniitiifis
inni iddoo namni hundi argutti isaan adaba;
27 kunis waan isaan isa duukaa bu'uu irraa garagalanii
karaa isaa hunda dhiisaniif.
28 Isaan akka inni iyya rakkattootaa dhaga'uuf,
akka iyyi hiyyeeyyii fuula isaa duratti dhaga'amu godhaniiru.
29 Yoo inni cal'ise garuu, eenyutu isatti muruu danda'a?
Yoo inni fuula isaa dhokfates eenyutu isa arguu danda'a?
Ta'us inni namaa fi saba illee ni to'ata;
30 kunis akka namni Waaqaaf hin bulle
mootii hin taanee fi akka isaan sabaaf kiyyoo hin keenyeefii dha.

31 "Namni tokko Waaqaan akkana jedha haa jennu;
'Ani yakka hojjedheera; garuu itti hin deebi'u.
32 Waan ani arguu hin dandeenye na barsiisi;
ani yoon dogoggora hojjedhee jiraadhe, lammata itti hin deebi'u.'
33 Waaqni sababii ati qalbii jijjiirrachuu didduuf
akkuma yaada keetiitti gatii siif baasaa?
Situ murteessuu qaba malee ana miti;
kanaafuu ati waan beektu natti himi.

34 "Namoonni hubannaa qaban ni dubbatu;
namoonni ogeeyyiin na dhaga'anis akkana jedhu;
35 'Iyyoob beekumsa malee dubbata;
dubbiin isaas hubannaa cimaa hin qabu.'
36 Iyyoob sababii akka nama hamaatti deebii kenneef
maaloo utuu hamma dhumaatti qoramee jiraatee!
37 Inni cubbuu isaa irratti fincila dabala;
tuffiidhaan gidduu keenyatti harka dha'a;
Waaqa irrattis waan baay'ee dubbata."

# 35

1 Eliihuunis itti fufee akkana jedhe:
2 "Ati waan kana qajeelaa seetaa?
Ati, 'Ani fuula Waaqaa duratti qajeelaa dha' jetta.
3 Ati, 'Wanni kun faayidaa maalii naa qaba?
Ani cubbuu hojjechuu dhiisuudhaan maalin argadha?' jettee gaafatta.

4 "Ani si'ii fi michoota kee kanneen si wajjin jiraniif
deebii kennuu nan barbaada.
5 Ol jedhiitii samiiwwan ilaali;
duumessoota siin ol jiranis argi.
6 Ati yoo cubbuu hojjette maal isa miita?
Cubbuun kees yoo baay'ate maal isa godha?
7 Ati yoo qajeelaa taate, maal isaaf kennita?
Yookaan inni harka kee irraa maal argata?
8 Hamminni kee nama akka keetii qofa miidha;
qajeelummaan kees ilmaan namaa qofa fayyada.

9 “Waan cunqursaan itti hammaatteef namoonni ni iyyu;
irree humna qabeessaa jalaa ba’uufis gargaarsaaf wawwaatu.
10 Garuu namni tokko iyyuu akkana hin jedhu;
‘Waaqni Uumaan koo, inni halkaniin faarfannaa namaa kennu,
11 kan bineensota lafa irraa caalaa beektota,
simbirroo samii caalaas ogeeyyii nu godhu eessa jira?’
12 Inni sababii of tuulummaa jal’ootaatiif
yommuu namoonni iyyanitti deebii hin kennu.
13 Dhugumaan Waaqni iyya isaanii kan gatii hin qabne sana hin dhaggeeffatu;
Waaqni Waan Hunda Danda’u iyya sanaaf gurra hin kennu.
14 Yoo ati, ‘Dubbiin koo fuula isaa dura jira;
ani isa eeggachaan jira;
garuu isa arguu hin danda’u’ jette,
inni hammam kanaa gad iyyuu xinneessee haa dhaga’u ree!
15 Amma illee sababii dheekkamsi isaa nama hin adabneef,
sababii inni balleessaa namaa akka waan guddaa tokkootti hin fudhanneef,
16 Iyyoob oduu faayidaa hin qabneen afaan bana;
beekumsa malees dubbii baay’isa.”

# 36

1 Eliihuun ittuma fufee akkana jedhe:
2 “Ani akka qooda Waaqaa wanni jedhamu hedduun jiru
sitti nan argisiisaatii mee xinnoo naa obsi.
3 Ani beekumsa koo fagoodhaa nan fida;
qajeelummaa Uumaa kootiis nan labsa.
4 Akka dubbiin koo soba hin ta’in mirkaneeffadhu;
kan beekumsaan hir’ina hin qabne tokko si wajjin jira.

5 “Waaqni jabaa dha; garuu eenyun iyyuu hin tuffatu;
inni jabaa dha; kaayyoo isaattis cimee dhaabata.
6 Inni hamoota hin jiraachisu;
warra rakkataniif garuu murtii qajeelaa ni kenna.
7 Ija isaa qajeeltota irraa hin buqqifatu;
mootota wajjin teessoo irra isaan teessisa;
bara baraanis ol isaan guddisa.
8 Garuu yoo namoonni foncaadhaan hidhaman,
yoo funyoo rakkinaatiinis hidhaman,
9 inni hojii isaanii,
daba isaan of tuulummaan hojjetanis isaanitti ni hima.
10 Inni gurra isaanii sirreeffama dhaggeeffachuuf ni bana;
akka isaan waan hamaa irraa qalbii jijjiirratanis ni ajaja.
11 Isaan yoo ajajamanii isa tajaajilan,
bara jireenya isaanii badhaadhummaan,
umurii isaaniis gammachuudhaan fixatu.
12 Yoo ajajamuu baatan garuu,
goraadeedhaan badu;
beekumsa malees ni du’u.

13 “Warri garaan isaanii Waaqa irraa fagaate, aarii of keessatti kuufatu;
yommuu inni foncaan isaan hidhutti illee gargaarsa barbaachaaf hin iyyan.
14 Isaan dargaggummaa isaanii keessa du’u;

jireenyi isaaniis xuraa'ota gidduutti bada.
15 Inni garuu warra dhiphatan dhiphina isaanii keessaa baasa;
rakkoo isaanii keessattis isaanitti dubbata.

16 "Inni dhiphina keessaa si baasee
gara lafa bal'aa dhiphina hin qabneetti,
maaddii coomaan guutametti si geessa.
17 Amma garuu murtiin hamootaaf malu sirra tuulameera;
murtii fi haqni si qabataniiru.
18 Akka badhaadhummaan si hin gowwoomsine of eeggadhu;
akka baay'inni matta'aas karaa irraa si jal'isu hin godhin.
19 Badhaadhummaan kee yookaan tattaaffiin kee guddaan sun hundi
rakkoo irraa si eeguu danda'aa?
20 Halkan itti namoonni
mana isaaniitii buqqifaman hin hawwin.
21 Ati akka hamminatti hin deebine of eeggadhu;
qooda rakkinaa waan kana filatteertaatii.

22 "Kunoo Waaqni humna isaatiin ol ol jedheera;
barsiisaan akka isaa eenyu?
23 Namni karaa isatti himu,
yookaan kan, 'Ati dogoggorteerta' isaan jedhu eenyu?
24 Hojii isaa kan namoonni faarfannaadhaan jajan sana,
leellisuu hin dagatin.
25 Namni hundinuu argeera;
tokkoon tokkoon namaas fagootti xiyyeeffatee ilaala.
26 Dhugumaan Waaqni guddaa dha; nus isa hin beeknu;
baay'ina bara isaas namni beekuu hin danda'u.

27 "Inni copha bishaanii ol baasa;
hurrii isaas walitti qabee bokkaatti geeddara.
28 Duumessis jiidha isaa gad coccobsa;
bokkaan guddaanis namatti rooba.
29 Eenyutu akka inni itti duumessoota diriirsu,
akka inni itti dunkaana isaa keessaa qaqawweessa'us hubachuu danda'a?
30 Akka inni itti bakakkaa naannoo isaatti bittinneessu,
akka inni itti tuujuba galaanaa illee haguugu ilaali.
31 Kun haala inni ittiin saboota bulchuu fi
nyaata baay'inaan isaaniif kennuu dha.
32 Inni harka isaa bakakkaadhaan ni guuta;
akka bakakkaan sun iddoo akeeka isaa dha'us ni ajaja.
33 Kakawween isaa akka bakakkaan dhufu labsa;
looni iyyuu akka inni dhi'aate beeksisu.

## 37

1 "Kana irratti onneen koo ni dhikkifata;
iddoo isaatiis ni u'utaala.
2 Dhaggeeffadhaa! Iyya sagalee isaa,
guungummii afaan isaatii ba'u illee dhaga'aa.
3 Inni bakakkaa isaa samii hunda jalatti gad dhiisa;

gara handaara lafaattis ni erga.
4 Ergasii sagaleen guungummii isaa ni dhufa;
inni sagalee isaa ulfina qabeessa sanaan ni qaqawweessa'a.
Yommuu sagaleen isaa dhaga'amutti,
inni waan tokko illee hin qusatu.
5 Sagaleen Waaqaa haala dinqisiisaadhaan ni qaqawweessa'a;
inni waan guddaa hubannaa keenyaa ol ta'e godha.
6 Inni cabbiidhaan, 'Lafa irra bu'i;'
tiifuudhaanis, 'Bokkaa jabaa ta'i' jedha.
7 Akka namni inni uume hundi hojii isaa beekuuf,
inni harka tokkoo tokkoo namaa chaappessa.
8 Bineensonni holqa isaaniitti galu;
da'annoo isaanii keessas ni turu.
9 Bubbeen hamaan iddoo isaatii ni ba'a;
dhaamochis bubbee bittinneessu keessaa ni ba'a.
10 Hafuurri Waaqni baafatu cabbii uuma;
bishaanonni babal'aanis ni ititu.
11 Inni duumessoota bishaan baachisa;
bakakkaa isaas isaan keessa facaasa.
12 Isaan waan inni ajaju hunda hojjechuuf,
qajeelfama inni kennuun
addunyaa hunda irra naanna'u.
13 Inni namoota adabuuf, yookaan lafa isaa obaasee
jaalala isaa argisiisuuf jedhee duumessa fida.

14 "Yaa Iyyoob waan kana dhaggeeffadhu; mee of qabiitii
hojii Waaqaa isa dinqisiisaa sana hubadhu.
15 Waaqni akkamitti duumessoota
akka ajajuu fi akkamitti akka balaqqeessisu ati ni beektaa?
16 Akka itti duumessoonni wal qixxaatanii rarra'an,
hojii dinqisiisaa Waaqaa isa beekumsaan mudaa hin qabne sanaa beektaa?
17 Ati kan yeroo lafti bubbee kibbaatiin cal'istutti
ho'a wayyaa keetiitiin waxalamtu,
18 samii akkuma of-ilaalee naasii baqfamee jabaatu sana
diriirsuu keessatti isa gargaaruu ni dandeessaa?

19 "Waan nu isaan jennu nutti himi;
nu sababii dukkana keenyaatiifuu dubbii keenya qajeelfachuu hin dandeenyu.
20 Akka ani dubbachuu fedhu isatti himamuu qabaa?
Namni kam iyyuu liqimfamuuf ni gaafataa?
21 Erga qilleensi samiiwwan qulqulleessee booddee,
namni aduu humna guutuun iftu ilaaluu danda'u tokko iyyuu hin jiru.
22 Waaqni bareedina warqeetiin kaabaa ni dhufa;
inni ulfina isaa isa sodaachisaa sanaan ni dhufa.
23 Waaqni Waan Hunda Danda'u hubannaa keenyaa oli;
inni humnaa fi murtii qajeelaadhaan guddaa dha;
qajeelummaan isaa baay'ee dha; inni nama hin cunqursu.
24 Kanaafuu, namoonni isa sodaatu;
inni warra ogeeyyii of se'an hunda wa'ittuu hin hedu."

# 38

*Waaqayyo Ni dubbata*

1 Kana irratti Waaqayyo bubbee jabaa keessaa Iyyoobitti dubbate. Akkana jedhes:
2 “Namni dubbii beekumsa malee
dubbatamuun karoora koo dukkanneessu kun eenyu?
3 Mee akka gootaa mudhii kee hidhadhu;
ani sin gaafadha;
ati immoo deebii naa kenni.

4 “Yeroo ani hundee lafaa kaa’etti ati eessa turte?
Yoo hubatte mee natti himi.
5 Eenyutu bal’ina ishee murteesse? Dhugumaan ni beektaa?
Eenyutu ulee safaraa ishee irra harkise?
6 Hundeen ishee maal irra dhaabame?
Yookaan eenyutu dhagaa golee ishee dhaabe?
7 Kunis yeroo bakkalchoonni barii walii wajjin faarfatanitti,
yeroo ilmaan Waaqayyoos ililchanitti ture.

8 “Yeroo galaanni cabsee garaa lafaa keessaa ba’etti
eenyutu balbala itti cufee ittise?
9 Yeroo ani duumessoota uffata isaa godhee
dukkana guddaan maretti,
10 yeroo ani daangaa isaa dhaabee
balbalaa fi danqaraa hojjedheefitti,
11 anis, ‘Ati hamma asiitti dhufta; garuu darbuu hin dandeessu;
dambaliin of jajuu keetii illee asumatti dhaabata!’ jedheen.

12 “Ati bara jireenya keetii barraaqa ajajjee
yookaan barii obborootti iddoo isaa argisiiftee beektaa?
13 Akka inni handaara lafaa qabatee
namoota hamoo achi keessaa hurgufu gooteertaa?
14 Lafti akka suphee chaappaa jala jiruutti bifa geeddaratti;
bifti ishees akka bifa uffataatti mul’ata.
15 Hamoonni ifa isaanii dhowwatamaniiru;
irreen isaanii inni ol ka’es cabeera.

16 “Ati gara burqaa galaanaa gad buutee
yookaan tuujuba bishaanii seentee hundee isaa irra deemtee beektaa?
17 Karri du’aa sitti mul’ifameeraa?
Karra gaaddidduu du’aas argiteertaa?
18 Bal’ina lafaa guddaa sana hubatteertaa?
Yoo kana hunda beekte dubbadhu.

19 “Karaan iddoo ifni jirutti nama geessu kami?
Dukkannis eessa jiraata?
20 Iddoo isaaniitti isaan geessuu dandeessaa?
Daandii lafa jireenya isaaniitti geessu beektaa?
21 Ati dhugumaan ni beekta; yeroo sana dhalatteertaatii!
Ati bara hedduu jiraatteerta!

22 “Mankuusa cabbii seentee yookaan mankuusa

dhagaa cabbii argiteertaa?
23 Kan ani yeroo rakkinaatiif,
guyyaa waraanaa fi lolaatiif ol kaa’adhe argiteertaa?
24 Karaan iddoo ifni itti bittinnaa’utti
yookaan gara iddoo bubbeen ba’aa itti lafa irra faffaca’uutti nama geessu kami?
25 Eenyutu lolaadhaaf bo’oo,
bakakkaadhaaf immoo daandii baasee,
26 lafa namni tokko iyyuu keessa hin jiraanne,
gammoojjii namni tokko iyyuu keessa hin jirre bishaan obaasuuf,
27 lafa namni keessa hin jiraannee fi lafa onaa quubsee
margas itti biqilchu eenyu?
28 Roobni abbaa qabaa?
Copha fixeensaa eenyutu dhalche?
29 Cabbiin garaa eenyuutii ba’a?
Qorra samii eenyutu dhala?
30 Bishaanonni akka dhagaa jabaatu,
fuulli tuujubaas akka cabbii ta’a.

31 “Urjiiwwan babbareedoo Torbii jedhaman hidhuu ni dandeessaa?
Yookaan hidhaa Urjii Sadee jedhamuu hiikuu ni dandeessaa?
32 Tuuta urjiiwwanii waqtiilee isaaniitti fiduu
yookaan urjii Amaaketa jedhamu ilmaan isaa wajjin bobbaasuu ni dandeessaa?
33 Seera samiiwwanii beektaa?
Bulchiinsa isaanii lafa irratti hundeessuu ni dandeessaa?

34 “Ati sagalee kee gara duumessaatti ol fudhattee,
lolaa bishaaniitiin of haguuguu ni dandeessaa?
35 Ati bakakkaa daandii isaa irra erguu ni dandeessaa?
Innis, ‘Kunoo ani asan jira’ siin jedhaa?
36 Eenyutu yaada garaatiif ogummaa
yookaan sammuudhaaf hubannaa kenne?
37 Eenyutu duumessoota lakkaa’uuf ogummaa qaba?
Eenyutu okkotee bishaan samii
38 yeroo biyyoon jabaattutti,
yeroo supheen wal qabattutti jal’isuu danda’a?

39 “Ati leenca dhalaadhaaf nyaata adamsitee
saafela leencaas beela baaftee
40 yeroo isaan man’ee isaanii keessatti riphanitti
yookaan yeroo isaan daggala keessatti riphanii
waa eeggatanitti beela ni baaftaa?
41 Eenyutu yeroo ilmaan ishee gara Waaqaatti iyyan,
yeroo isaan nyaata dhabanii jooranitti,
arraagessaaf nyaata kenna?

# 39

*Iyyoob*

1 “Yeroo itti qellejjeen dhaltu beektaa?
Yeroo itti borofni ilmoo ishee dhaltu argiteertaa?

2 Ji'a isaan garaatti ilmaan baatan ni lakkooftaa?
Yeroo isaan itti dhalan ni beektaa?
3 Isaan jilbeenfatanii ilmaan isaanii dhalu;
foolachuu isaaniis ni hobbaafatu.
4 Ilmaan isaanii ni jabaatu; alattis ni guddatu;
ba'anii ni deemu; hin deebi'anis.

5 "Eenyutu harree diidaa gad dhiise?
Funyoo isaas eenyutu hiike?
6 Ani gammoojjii mana isaa,
lafa soogiddaas iddoo jireenya isaa godheen kenneef.
7 Inni waca magaalaa keessaatti ni kolfa;
iyya konkolaachisaas hin dhaga'u.
8 Waan dheedu argachuuf tulluuwwan irra laba;
waan lalisaa hundas ni barbaada.

9 "Gafarsi si tajaajiluuf siif ajajamaa?
Dallaa kee keessas ni bulaa?
10 Akka inni lafa siif qotuuf funyoodhaan isa hidhuu ni dandeessaa?
Yookaan inni si duubaan bo'oo ni baasaa?
11 Ati waan inni humna guddaa qabuuf isa ni amanattaa?
Hojii kee jabaa illee isatti ni dhiiftaa?
12 Akka inni midhaan kee walitti qabee
oobdii kee irratti siif tuuluuf isa ni abdattaa?

13 "Guchiin gammachuudhaan qoochoo ishee afarsiti;
garuu qoochoo fi baallee huummootiin wal bira hin qabamu.
14 Hanqaaquu ishee lafa irratti buufti;
akka itti ho'uufis cirracha keessatti dhiifti;
15 garuu akka miilli wayii caccabsu,
akka bineensi irra ejjetu hin yaadattu.
16 Cuucii isheettis akka waan isaan kan ishee hin ta'iniitti garaa jabaatti;
yoo dadhabbiin ishee akkasumaan bade illee isheef homaa miti;
17 Waaqni ogummaadhaan ishee hin badhaafneetii;
yookaan hubannaa isheef hin qoodne.
18 Yeroo fiiguuf qoochoo ishee bal'ifattutti,
isheen fardaa fi namicha gulufutti kofalti.

19 "Ati fardaaf jabina ni kennitaa?
Yookaan morma isaatti gama uffisuu dandeessaa?
20 Akka inni akkuma hawwaannisaatti utaalu ni gootaa?
Ulfinni korrisa isaas sodaachisaa dha.
21 Inni humna isaatti gammadee akka malee guulee lafa dhidhiita;
ba'ees mi'a lolaatti qajeela.
22 Inni sodaatti ni kolfa; waan tokko illee hin sodaatu;
goraadee irraas duubatti hin deebi'u.
23 Man'een xiyyaa, eeboo fi ankaaseen calaqqisus
cinaacha isaatti bubbu'ee kalilcha.
24 Si'aa'ee rommuudhaan lafa haadha;
yeroo malakanni afuufamutti illee obsee dhaabachuu hin danda'u.
25 Inni yommuu malakanni afuufamutti
'Uffee' jedhee imimsa; waca ajajjootaatii fi iyya waraanaa,

foolii waraanaa illee fagoottu suufa.

26 “Cululleen ogummaa keetiin barriftee
qoochoo ishees gara kibbaatti bal’iftii?
27 Risaan ajaja keetiin ol ba’ee
ol fagootti mana isaa ijaarrataa?
28 Inni qarqara hallayyaa irra jiraata; halkanis achuma bula;
kattaan fofottoqaanis da’oo isaa ti.
29 Achi taa’ees waan nyaatu adamsa;
iji isaas fagootti waan sana arga.
30 Cuucoliin isaa dhiiga dhugu;
innis lafa raqni jiruu hin dhabamu.”

# 40

1 WAAQAYYOS Iyyoobiin akkana jedhe:
2 “Namni Waaqa Waan Hunda Danda’uun falmu tokko isa ni qajeelchaa?
Namni Waaqa himatu deebii haa kennuuf!”
3 Iyyoobis akkana jedhee WAAQAYYOOF deebise:
4 “Ani nama faayidaa hin qabnee dha; akkamittin deebii siif kenna?
Harka koo afaan koo irra nan kaa’adha.
5 Ani yeroo tokko dubbadheera; garuu ani waanan deebisu hin qabu;
si’a lama dubbadheera; kana caalaa garuu homaa hin jedhu.”
6 Kana irratti WAAQAYYO bubbee jabaa keessaa Iyyoobitti dubbate:
7 “Akka dhiiraatti mudhii kee hidhadhu;
ani sin gaafadha;
ati immoo deebii naa kennita.

8 “Ati murtii koo qajeelaa sana gatii dhabsiistaa?
Ofii keetii qajeelaa ta’uuf na himattaa?
9 Irree akka irree Waaqaa qabdaa?
Sagaleen kees akka sagalee isaa qaqawweessa’uu danda’aa?
10 Ulfinaa fi guddinaan of miidhagsi;
kabajaa fi barreedina uffadhu.
11 Dheekkamsa kee kan guutee irra yaa’u sana dhangalaasi;
nama of tuulu kam iyyuu ilaalii qaanessi.
12 Nama of tuulu hunda ilaalii gad deebisi;
hamoota illee iddoodhuma isaan dhaabatanitti caccabsi.
13 Isaan hunda walitti qabii biyyoo keessatti awwaali;
fuula isaaniis awwaala keessa dhoksi.
14 Yoos ani mataan koo, akka harki kee mirgaa
si oolchuu danda’u siifin mirkaneessa.

15 “Bihemootin ani akkuman si uumettin uume,
kan akkuma qotiyyoo marga dheedu sana mee ilaali.
16 Jabinni isaa dugda isaa keessa,
humni isaa immoo ribuu garaa isaa keessa jira!
17 Eegeen isaa akkuma muka birbirsaa raafama;
ribuun tafa isaa wal keessa xaxamaa dha.
18 Lafeen isaa akka ujummoo naasii ti;
harkii fi miilli isaa immoo akka ulee sibiilaa ti.
19 Inni uumamawwan Waaqaa keessaa hangafa;

garuu inni isa uume goraadee isaatiin isatti dhi’aachuu danda’a.
20 Gaarran marga ni kennuuf;
bineensonni hundi naannoo isaa ni burraaqu.
21 Inni huuxxii qoraattii qabu jala ciisa;
shambaqqoo lafa dhaqdhaqii keessa dhokata.
22 Gaaddisni huuxxii qoraattii qabuu isa haguuga;
alaltuun lagaas isa marsa.
23 Yommuu lagni cabsee yaa’utti iyyuu kunoo, inni hin rifatu.
Lagni Yordaanos afaan isaa irra garagalu iyyuu inni hin shishu.
24 Namni utuma inni arguu isa qabuu
yookaan kiyyoodhaan isa qabee funyaan isaa uruu danda’u tokko iyyuu jiraa?

# 41

1 “Ati hokkoo qurxummiitiin Lewaataan harkiftee baasuu
yookaan arraba isaa funyoodhaan hidhuu ni dandeessaa?
2 Funyaan isaa keessa funyoo baasuu
yookaan lafee mangaagaa isaa hokkoodhaan uruu ni dandeessaa?
3 Inni akka ati isaaf araaramtuuf guddisee si kadhataa?
Afaan nagaatiinis sitti ni dubbataa?
4 Akka ati bara baraan garbicha godhattuuf
inni si wajjin kakuu ni galaa?
5 Ati akka simbirroota wajjin taphattu isa wajjin ni taphattaa?
Yookaan shamarran keetiif isa ni hiitaa?
6 Daldaltoonni isa irratti gatii wal dubbatuu?
Warra bitee gurguruufis isa ni qooduu?
7 Ati gogaa isaa xiyyaan,
yookaan mataa isaa hokkoo ittiin qurxummii qabaniin
wawwaraanuu ni dandeessaa?
8 Yoo harka keetiin isa tuqxe, wal’aansoo sana ni yaadatta;
deebitees waan sana hin gootu!
9 Isa mo’anna jedhanii abdachuun soba;
ijumaan isa ilaaluunuu nama hollachiisa.
10 Namni isa dammaqsuuf garaa qabaatu tokko iyyuu hin jiru.
Egaa namni na dura dhaabachuu danda’u eenyu?
11 Namni waa natti kennatee ani deebisuufii qabu eenyu?
Wanni samii jala jiru hundinuu kanuma koo ti.

12 “Ani waa’ee harkaa fi miilla isaa,
waa’ee jabinaa fi dhaaba toluu isaa dubbachuu hin dhiisu.
13 Eenyutu uffata inni irraan uffatu irraa baasa?
Eenyutu luugama qabatee isatti dhi’aata?
14 Eenyutu balbala afaan isaa
isa ilkaan isaa sodaachisaa sanaan marfame banuu danda’a?
15 Dugdi isaa gaachanawwan tarree galan,
kanneen akka malee walitti maxxanfaman qaba;
16 tokkoon tokkoon gaachanawwan sanaa
akka qilleensi gidduu isaanii hin baaneef baay’ee walitti maxxanu.
17 Isaan jabeeffamanii walitti qabsiifaman;
waan walitti fayyaniif gargar hin baafaman.
18 Haxxissoon isaa balaqqeessa ifaa baasa;

iji isaa immoo akkuma ifa biiftuu reefuu baatuu ti.
19 Afaan isaa keessaa arraba ibiddaatu ba’a;
qaanqeenis afaan isaa keessaa ni faffaca’a.
20 Akkuma aara xuwwee ibidda shambaqqoo
irratti dafqu keessaa ba’uu funyaan isaatii aarri ni ba’a.
21 Hafuurri afaan isaatii ba’u cilee ibiddaa qabsiisa;
afaan isaa keessaas arrabni ibiddaa ni ba’a.
22 Morma isaa keessa jabinatu jira;
sodaachisuunis fuula isaa dura ni utaala.
23 Dachaan foon isaa wal qabateera;
dachaan sunis walitti fayyeera; hin socho’us.
24 Lapheen isaa akka kattaa jabaata;
akka dhagaa daakuus jabaa dha.
25 Yeroo inni ol ka’utti, jajjaboonni ni sodaatu;
yommuu inni lafa sochoosaa dhufutti isaan of irra garagalanii baqatu.
26 Goraadeen itti bu’u illee homaa isa hin godhu;
eeboon yookaan xiyyi yookaan ankaaseenis homaa isa hin godhu.
27 Inni sibiila akka cidiitti,
naasii immoo akka muka tortoreetti heda.
28 Xiyyi isa hin baqachiisu;
dhagaan furrisaa isaaf akkuma habaqii ti.
29 Bokkuun isaaf akkuma cidii ti;
inni mirmirfamuu eebootti ni kolfa.
30 Garaan isaa jalli akka cabaa okkotee kan qara qabuu ti;
akka muka ittiin midhaan dha’aniittis dhoqqee baqaqsa.
31 Inni tuujuba akka okkotee dafquutti koqsiisa;
galaanas akkuma bilqaaxxii dibataa raasa.
32 Inni duuba isaatiin akka karaan ifu ni godha;
namni waan tuujubni sun rifeensa adii qabu se’a.
33 Uumamni homaa hin sodaanne,
kan isaan qixxaatu tokko iyyuu lafa irra hin jiru.
34 Inni warra of tuulu ni tuffata;
warra of jaju hunda irratti mootii dha.”

# 42

*Iyyoob*

1 Iyyoobis akkana jedhee WAAQAYYOOF deebii kenne:
2 “Ani akka ati waan hunda hojjechuu dandeessu nan beeka;
karoorri kee tokko iyyuu karaatti hin hafu.
3 Ati, ‘Namni beekumsa malee gorsa koo dhoksu kun eenyu?’ jettee gaafatte.
Ani dhugumaan waan naaf hin galin, waan dinqii natti ta’e
kan ani hin beekin dubbadheera.

4 “Ati akkana jetteerta;
‘Ani nan dubbadhaa mee dhaggeeffadhu;
ani sin gaafadhaa, ati immoo naaf deebisi.’
5 Gurri koo waa’ee kee dhaga’ee ture;
amma garuu iji koo si argeera.
6 Kanaafuu ani of tuffadhee biyyoo fi
daaraa keessa taa’ee qalbii nan jijjiirradha.”

*Xumura*

7 WAAQAYYO erga waan kana Iyyoobitti dubbatee booddee Eliifaaz Teemaanichaan
akkana jedhe; "Sababii isin akka Iyyoob garbichi koo dubbate sana waa'ee koo waan
qajeelaa hin dubbatiniif dheekkamsi koo si'ii fi michoota kee lamaanitti boba'eera.
8 Kanaafuu isin amma jiboota torbaa fi korbeeyyii hoolaa torba fuudhaatii gara
garbicha koo Iyyoob dhaqaatii waa'ee ofii keessaniitiif aarsaa gubamu dhi'eessaa.
Iyyoob garbichi koo isinii kadhata; ani kadhannaa isaa nan dhaga'a; akka balleessaa
keessaniittis isinitti hin muru. Isin akka Iyyoob garbichi koo dubbate sana waa'ee
koo waan qajeelaa hin dubbanneetii." 9 Kanaafuu Eliifaaz Teemaanichi, Bildaad
Shuhaahichii fi Zoofaari Naa'imaatichi waan WAAQAYYO isaanitti hime sana godhan;
WAAQAYYOs kadhannaa Iyyoob dhaga'e.

10 Erga Iyyoob michoota isaatiif kadhatee booddee WAAQAYYO deebisee isa soorom-
see qabeenya inni duraan qabu sana harka lama kenneef. 11 Obboloonni isaa,
obboleettonni isaa hundinuu fi warri dur isa beekan hundi dhufanii mana isaatti isa
wajjin nyaatan. Isaanis sababii rakkina WAAQAYYO isatti fide hundaatiif isaaf gaddanii
isa jajjabeessan; tokkoon tokkoon isaaniis meetii fi qubeelaa warqee kennaniif.

12 WAAQAYYOs kan duraa caalaa jireenya Iyyoob kan fuul duraa eebbise. Iyyoobis
hoolaa kuma kudha afur, gaala kuma ja'a, qotiyyoo kuma lamaa fi harree dhaltuu
kuma tokko qaba ture. 13 Akkasumas ilmaan torbaa fi intallan sadii qaba ture.
14 Intala isaa jalqabaa Yemiimaa, ishee lammaffaa Keziiyaa, ishee sadaffaa immoo
Qeren-Haphuuk jedhee moggaase. 15 Biyya sana hunda keessatti dubartoonni akka
intallan Iyyoob babbareedan eessattuu hin argamne. Abbaan isaaniis obboloota
isaanii gidduutti dhaala kenneef.

16 Iyyoobis ergasii waggaa dhibba tokkoo fi afurtama jiraate; innis hamma dhaloota
afuriitti ijoollee fi ijoollee ijoollee isaa arge. 17 Innis akkasiin bara dheeraa jiraatee
dulloomee du'e.

# Kitaabota Faarfannaa

## Kitaaba Tokkoffaa

## 1

*Faarfannaa 1–41*

### Karaa Lamaan

1 Namni gorsa hamootaatiin hin deddeebine,
yookaan karaa cubbamootaa irra hin dhaabanne,
yookaan barcuma qoostotaa irra hin teenye, eebbifamaa dha.
2 Garuu inni seera WAAQAYYOOTTI gammada;
seera isaas halkanii guyyaa irra deddeebi'ee itti yaada.
3 Inni akkuma muka qarqara bishaan yaa'uu dhaabamee
yeroo isaatti ija isaa kennu,
kan baalli isaas hin coollagnee ti;
wanni inni hojjetu hundinuus ni tolaaf.

4 Hamoonni garuu akkana miti;
isaan akka habaqii qilleensi fudhatee balleessuu ti.
5 Kanaafuu hamoonni murtii dura,
yookaan cubbamoonni waldaa qajeeltotaa keessa hin dhaabatan.

6 WAAQAYYO karaa qajeeltotaa ni beekaatii;
karaan hamootaa garuu gara badiitti geessa.

### Mooticha Waaqni Dibee Moosise

## Faarfannaa 2

1 Namoonni maaliif akkanumaan malatu?
Saboonnis maaliif waan akkanumaan mari'atu?
2 Mootonni lafaa ka'anii,
bulchitoonnis WAAQAYYOO fi Masiihii isaatiin mormuuf
walitti qabaman;
3 isaanis, "Kottaa foncaa isaanii of irraa kukkunnaa;
hidhaa isaaniis of irraa hiiknee gannaa" jedhu.

4 Inni samii keessa, teessoo irra taa'ee jiru ni kolfa;
Gooftaanis isaanitti qoosa.
5 Innis aarii isaatiin isaan ifata;
dheekkamsa isaatiinis isaan naasisa;
6 innis, "Ani tulluu koo qulqulluu irra, Xiyoon irra,
mootii koo teessifadheera" jedha.

7 Ani seera WAAQAYYOO nan labsa:

innis akkana anaan jedhe; "Ati ilma koo ti;
ani har'a si dhalcheera.
8 Na kadhadhu;
ani saboota dhaala kee,
handaara lafaas qabeenya kee godhee siifan kenna.

9 Ati ulee sibiilaatiin isaan cabsita;
akka qodaa supheettis isaan hurreessita.”

10 Kanaafuu yaa moototа, qalbeeffadhaa;
bulchitoonni lafaas of eeggadhaa.
11 Sodaadhaan WAAQAYYOON tajaajilaa;
hollachaas gammadaa.
12 Akka inni hin aarreef,
isinis akka karaa irratti hin badneef ilma isaa dhungadhaa;
dheekkamsi isaa dafee boba’aatii.
Warri isatti kooluu galan hundi eebbifamoo dha.

## Kadhannaa Nama Ari’atamaa Jiruu

# Faarfannaa 3

Faarfannaa Daawit yeroo ilma isaa Abesaaloom jalaa baqatetti faarfate.
1 Yaa WAAQAYYO, diinonni koo akkam baay’atu!
Namoonni baay’een natti ka’aniiru!
2 Namoonni baay’een, “Waaqni isa hin baraaru” jedhanii
waa’ee koo dubbatu.

3 Yaa WAAQAYYO, ati garuu naannoo kootti gaachana koo ti;
ulfina kootis; mataa koos kan ol qabdu suma.
4 Ani guddisee WAAQAYYOTTI nan iyyadha;
innis tulluu isaa qulqulluu irraa deebii naa kenna.

5 Ani nan ciisa; nan rafas;
waan WAAQAYYO ol na qabuuf nan dammaqa.
6 Saba kumaatama qixa hundaan
ka’ee na marse ani hin sodaadhu.

7 Yaa WAAQAYYO ka’i!
Yaa Waaqa koo na baraari!
Mangaagaa diinota kootii hundumaa rukuti;
ilkaan hamootaa illee caccabsi.

8 Fayyinni kan WAAQAYYOO ti.
Eebbi kee saba kee irra haa jiraatu.

## Kadhannaa Galgalaa

# Faarfannaa 4

Dura bu’aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit kan Baganaadhaan Faarfatamu.
1 Yaa Waaqa qajeelumma kootii,
yommuu ani si waammadhutti deebii naa kenni.
Ati yeroo rakkina kootti na boqochiisi;
araara kee naa buusi; kadhaa koos dhaga’i.

2 Yaa ilmaan namootaa, isin hamma yoomiitti ulfina koo gara salphinaatti deebiftu?
Isin hamma yoomiitti waan faayidaa hin qabne jaallattanii soba barbaaddu?
3 Isin akka WAAQAYYO warra isaaf bulan ofii isaatiif addaan baafate beekaa;
WAAQAYYO yommuu ani isa waammadhutti na dhaga’a.

4 Yeroo aartanitti cubbuu hin hojjetinaa;
yommuu siree keessan irra jirtanitti,
garaa keessan keessatti yaadaa; cal'isaas.
5 Aarsaa qajeelummaa dhi'eessaa;
WAAQAYYONIS amanadhaa.

6 Namoonni, "Eenyutu waan gaarii nu argi argisiisa?" jedhan baay'ee dha;
yaa WAAQAYYO, ifni fuula keetii nurratti haa ifu.
7 Gammachuu isaan yeroo midhaanii fi daadhiin wayinii isaanii baay'atutti argatan caalaa,
ati garaa koo gammachuu guddaadhaan guutteerta.

8 Ani nagaadhaan nan ciisa; nan rafas;
yaa WAAQAYYO si qofatu,
sodaa malee na jiraachisaatii.

## Kadhannaa Ganamaa

# Faarfannaa 5

Faarfannaa Daawitii kan ululleedhaan faarfatamu.
1 Yaa WAAQAYYO, gurra kee dubbii kootti qabi;
aaduu koo illee naa hubadhu.
2 Yaa mootii koo fi Waaqa ko,
iyya ani gargaarsaaf iyyadhu dhaggeeffadhu;
ani sin kadhadhaatii.

3 Yaa WAAQAYYO, ganamaan sagalee koo ni dhageessa;
anis ganamaan kadhata koo fuula kee duratti nan dhi'eessa;
abdiidhaanis nan eeggadha.
4 Ati Waaqa hamminatti gammadu miti;
hamaanis si wajjin hin jiraatu.
5 Of tuultonni fuula kee dura dhaabachuu hin danda'an.
Atis warra jal'ina hojjetan hunda ni jibbita;
6 Ati warra soba dubbatan ni balleessita.
WAAQAYYO warra dhiiga dheebotanii fi
warra nama gowwoomsan ni xireeffata.
7 Ani garuu araara kee baay'ee sanaan mana keetti ol nan gala;
si sodaachuudhaanis gad jedhee
gara mana qulqullummaa kee qulqulluu sanaatti garagalee nan sagada.

8 Yaa WAAQAYYO, sababii diinota kootiif jedhiitii
qajeelummaa keetiin na dura bu'i;
karaa kees fuula koo duratti naa qajeelchi.
9 Dubbiin afaan isaaniitii ba'u tokko iyyuu hin amanamu;
garaan isaanii badiisaan guutameera.
Laagaan isaanii awwaala banamaa dha;
arraba isaaniitiin ni sobu.
10 Yaa Waaqayyo, yakkitoota ta'uu isaanii isaanitti beeksisi!
Daba isaaniitiinis haa kufan.
Baay'ina cubbuu isaaniitiin isaan balleessi;
isaan sitti fincilaniiruutii.
11 Warri kooluu sitti galan hundinuu garuu haa gammadan;
bara baraanis gammachuudhaan haa faarfatan.

Akka warri maqaa kee jaallatan sitti gammadaniif
ati eegumsa kee isaan irra diriirsi.

12 Yaa WAAQAYYO, ati qajeeltota ni eebbiftaatii;
akka gaachanaattis surraa keetiin isaan marsita.

## Kadhannaa Yeroo Dhiphinaa

# Faarfannaa 6

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Baganaadhaan faarfatamu. Faarfannaa Daawit kan akka sirna *Shamiiniitiitti* faarfatamu.

1 Yaa WAAQAYYO aarii keetiin na hin hifatin;
yookaan dheekkamsa keetiin na hin adabin.
2 Naa gameeraatii yaa WAAQAYYO naaf araarami;
lafeen koos jeeqameeraatii yaa WAAQAYYO na fayyisi.
3 Lubbuun koo akka malee jeeqameera;
kun hamma yoomiitti? Yaa WAAQAYYO, hamma yoomiitti?

4 Yaa WAAQAYYO, deebi'iitii lubbuu koo oolchi;
araara keetiif jedhiitii na fayyisi.
5 Namni du'e si hin yaadatu.
Sii'ool keessatti eenyutu si galateeffata?

6 Ani aaduu kootiin bututeera.

Halkan hunda boo'ichaan siree koo nan dhiqa;
imimmaaniinis iddoo ciisichaa koo nan tortorsa.
7 Iji koo gaddaan fajajeera;
sababii diinota koo hundaatiifis dadhabeera.

8 Warri hamaa hojjettan hundinuu narraa fagaadhaa;
WAAQAYYO sagalee boo'icha koo dhaga'eeraatii.
9 WAAQAYYO waammata koo dhaga'eera;
WAAQAYYO kadhannaa koo ni fudhata.
10 Diinonni koo hundinuu haa qaana'an; akka malees haa rifatan;
qaanii tasaatiinis of irra haa garagalan.

## Kadhannaa Namni Qajeelaan Kadhatu

# Faarfannaa 7

*Shiigaayoonni* Daawit kan inni waa'ee Kuushi namicha gosa Beniyaamiif jedhee WAAQAYYOOF faarfate.

1 Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, ani kooluu sitti nan gala;
warra na ari'atan hunda jalaa na baasi; na oolchis;
2 yoo kanaa achii isaan yeroo namni na oolchu hin jirretti,
akka leencaa na cicciratu; na kukkutatus.

3 Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, yoo ani waan kana godhee jiraadhe
yoo harka koo keessa yakki jiraate,
4 yoo ani nama nagaadhaan na wajjin jiraatutti hamaa hojjedhee jiraadhe,
yookaan yoo ani sababii malee diina koo saamee jiraadhe,
5 diinni koo ari'ee na haa qabatu;
jireenya koo lafatti haa dhidhiitu;

ulfina koos awwaara keessa haa buusu.

6 Yaa WAAQAYYO aarii keetiin ka'i;
dheekkamsa diinota kootti ka'i.
Yaa Waaqa koo anaaf dammaqi; murtii qajeelaa labsi.
7 Yaa'iin namootaa naannoo keetti walitti haa qabamu;
atis ol gubbaadhaa isaan bulchi.
8 WAAQAYYO sabootaaf murtii haa kennu.
Yaa WAAQAYYO, akka qajeelummaa kootiitti,
akka amanamummaa kootiittis naa murteessi.
9 Yaa Waaqa qajeelaa,
kan yaadaa fi garaa namaa qortu,
fincila hamootaa balleessi;
qajeeltota immoo jabeessii dhaabi.

10 Gaachanni koo Waaqa;
inni gara toleeyyii ni oolcha.
11 Waaqni abbaa murtii qajeelaa dha;
inni Waaqa guyyaa hunda dheekkamsa isaa mul'isuu dha.
12 Yoo namni qalbii jijjiirrachuu baate,
inni goraadee isaa ni qarata;
iddaa isaas dabsee qopheeffata.
13 Inni meeshaa nama ajjeesu
qopheeffateera; xiyya boba'us ni qopheeffata.

14 Kunoo, namni hamaan hammina ulfaa'a;
jal'ina garaatti baata; soba dhala.
15 Inni gad fageessee boolla qota;
boolla qopheesse sana keessas ni bu'a.
16 Dabni isaa matuma isaatti deebi'a;
jal'inni isaas gubbee mataa isaa irra bu'a.

17 Qajeelummaa isaatiif WAAQAYYOON nan galateeffadha;
maqaa WAAQAYYOO Waaqa Waan Hundaa Oliis faarfannaadhaan nan jajadha.

## Ulfina Waaqayyoo

# Faarfannaa 8

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit kan *Gitiitiidhaan* faarfatamu.
1 Yaa WAAQAYYO Gooftaa keenya,
maqaan kee lafa hundatti akkam ulfina qabeessa!

Ati ulfina kee
samiiwwan irratti diriirsiteerta.
2 Sababii diinota keetiitiif, amajaajii fi nama haaloo baafatu
afaan qabachiisuuf jettee, afaan daa'immaniitii fi
mucoolii harma hodhanii irraa galata qopheessiteerta.
3 Yommuu ani hojii quba keetii,
samiiwwan kee,
ji'aa fi urjiiwwan ati hundeessitee ilaalutti,
4 akka ati isaaf yaadduuf namni maali?
Akka isaaf dhimmituuf ilmi namaa maali?

5 Ati xinnoo ishee ofii keetii gad isa goote;
ulfinaa fi kabajaan isa gonfite.
6 Hojii harka keetii irratti bulchaa isa goote;
waan hundas miilla isaa jala galchite;
7 bushaayee fi loon hunda,
bineensota bosonaas,
8 simbirroota samii irraa, qurxummii galaanaa,
waan daandii galaanaatiin darbu
hundas miilla isaa jala galchite.

9 Yaa WAAQAYYO Gooftaa keenya,
maqaan kee lafa hundumaa irratti akkam ulfina qabeessa!

## Murtii Waaqayyoo

# Faarfannaa 9

Dura bu'aa faarfattootaatiif; Yeedaloo, "Du'a ilmaa" jedhamu. Faarfannaa Daawit.

1 Yaa WAAQAYYO, ani garaa koo guutuudhaan sin galateeffadha;
waa'ee dinqii kee hundumaas nan odeessa.
2 Ani sittin gammada; nan ililchas;
yaa Waaqa Waan Hundaa Olii, faarfannaadhaan maqaa kee nan jajadha.

3 Diinonni koo dugda duubatti ni deebi'u;
ni gufatu; fuula kee duraas ni badu.
4 Mirga koo fi dhimma koo qabatteerta;
atis murtii qajeelaa kennaa teessoo kee irra teesseerta.
5 Saboota ifattee hamootas balleessiteerta;
maqaa isaaniis baraa hamma bara baraatti haqxeerta.
6 Diinonni badiisa bara baraatiin balleeffamu;
ati magaalaawwan isaanii bubuqqifteerta;
seenaan isaaniis barbadeeffameera.

7 WAAQAYYO garuu bara baraan ni mo'a;
teessoo isaas murtiidhaaf dhaabbateera.
8 Inni qajeelummaadhaan addunyaadhaaf murtii ni kenna;
sabootas murtii qajeelaadhaan bulcha.
9 WAAQAYYO warra cunqurfamaniif irkoo dha;
yeroo rakkinaattis da'oo dha.
10 Warri maqaa kee beekan si amanatu;
yaa WAAQAYYO, ati warra si barbaadan gattee hin beektuutii.

11 WAAQAYYO isa Xiyoon irra jiraatu faarfannaadhaan jajadhaa;
hojii isaa illee saboota keessatti labsaa.
12 Inni haaloo dhiigaa baasu sunis isaan yaadataatii;
iyya warra dhiphataniis hin irraanfatu.

13 Yaa WAAQAYYO, hammam akka diinonni koo na ari'atan ilaali!
Naaf araaramiitii afaan boolla du'aa keessaa na baasi;
14 kunis ani karra Intala Xiyoon irratti
akka galata kee labsuu fi fayyisuu keettis
baay'isee gammaduuf.

15 Saboonni boolla qotan keessa bu’an;
miilli isaaniis kiyyoodhuma isaan dhoksaniin qabame.
16 WAAQAYYO murtii qajeelaa kennuudhaan beekama;
hamoonni garuu hojii harka isaaniitiin kiyyoo seenu.
17 Namoonni hamoon,
warri Waaqa irraanfatan hundinuus sii’oolitti gad bu’u.
18 Rakkattoonni garuu yoom iyyuu hin irraanfataman;
abdiin hiyyeeyyiis bara baraan hin badu.

19 Yaa WAAQAYYO ka’i; jabinni namaa hin mul’atin;
fuula kee duratti sabootatti haa muramu.
20 Yaa WAAQAYYO, sodaa isaanitti buusi;
saboonnis akka namuma ta’an haa beekan.

## Murtii Qajeelaa Argachuuf Waaqa Kadhachuu

# Faarfannaa 10

1 Yaa WAAQAYYO, ati maaliif achi fagaattee dhaabatta?
Yeroo rakkinaattis maaliif of dhoksita?

2 Namni hamaan of tuulummaa isaatiin hiyyeessa adamsa;
inni maluma malatuun haa qabamu.
3 Namni hamaan hawwii isaatiin of jaja; ofittoo ni eebbisa;
WAAQAYYOON immoo ni arrabsa.
4 Namni hamaan sababii of tuuluuf Waaqa hin barbaadu;
yaada isaa hundumaa keessas Waaqni hin jiru.
5 Karaan isaa yeroo hunda ni milkaa’aaf; inni of tuula;
seerri kees isa irraa fagoo dha;
diinota isaa hundattis tuffiidhaan qummaada.
6 Innis, “Wanni na sochoosu hin jiru;
rakkinnis gonkumaa na hin argatu” ofiin jedha.

7 Afaan isaa abaarsaan, sobaa fi doorsisaan guutameera;
dabaa fi hamminni arraba isaa jala jiru.
8 Inni gandoota keessatti riphee eeggata;
iddoo dhokataattis warra yakka hin qabne ajjeesa.
Ija isaatiinis hiyyeeyyii gaada.
9 Akka leenca daggala isaa keessaatti riphee eeggata.
Hiyyeessa qabachuudhaaf dhokatee eeggata;
hiyyeessas qabatee kiyyoo isaatiin harkifata.
10 Hiyyeessi sunis ni caccaba; gad of qabas;
humna nama hamaa jalattis ni kufa.
11 Innis, “Waaqa irraanfateera;
fuula isaas dhokfateera; gonkumaa hin argu” ofiin jedha.

12 Yaa WAAQAYYO ka’i! Yaa Waaqi harka kee ol kaafadhu.
Rakkataas hin dagatin.
13 Namni hamaan maaliif Waaqa arrabsa?
Maaliifis garaa isaatti,
“Inni waan kanatti na hin gaafatu” jedha?
14 Yaa Waaqi, ati garuu rakkinaa fi gadda warra miidhamanii ni argita;
harka keetiinis gatii baasifta.

Deegaan dabarsee sitti of kenna;
ati ijoollee abbaa hin qabneef gargaaraa dha.
15 Irree nama hamaatii fi jal'aa cabsi;
hamma hamminni isaa dhumee dhabamutti,
hammina isaatti isa gaafadhu.

16 WAAQAYYO bara baraa hamma bara baraatti Mootii dha;
ormoonni lafa isaa irraa ni barbadaa'u.
17 Yaa WAAQAYYO, ati hawwii rakkattootaa ni dhageessa;
isaan jajjabeessita; iyya isaanii illee ni dhaggeeffatta;
18 kunis akka namni biyyoo irraa uumame si'achi isaan hin cunqursineef
ati ijoollee abbaa hin qabnee fi
cunqurfamtootaaf akka dhaabattuuf.

## Waaqa Amanachuu

# Faarfannaa 11

Dura bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Ani WAAQAYYOTTI kooluu galeera.
Yoos isin akkamitti lubbuu kootiin akkana jechuu dandeessu:
"Ati akkuma simbirroo tulluu keetti barrisi.
2 Kunoo namoonni hamoon iddaa isaanii dabsataniiru;
isaan warra toloota ta'an,
dukkana keessa waraanuuf jedhanii,
xiyya isaanii ribuutti dhaabbataniiru.
3 Yoo hundeewwan diigaman, namni qajeelaan
maal gochuu danda'a?"

4 WAAQAYYO mana qulqullummaa isaa qulqulluu sana keessa jira;
teessoon WAAQAYYOO samii irra jira.
Inni ilmaan namootaa ni ilaala;
iji isaas namoota ni qora.
5 WAAQAYYO qajeeltotaa fi jal'oota ni qora;
lubbuun isaa garuu nama goolii jaallatu ni jibbiti.
6 Inni hamoota irratti, barbadaa ibiddaatii fi
dinyii boba'u ni roobsa;
qoodni isaaniis bubbee finiinaa dha.

7 WAAQAYYO waan qajeelaa ta'eef,
murtii qajeelaa jaallata;
toloonnis fuula isaa ni argu.

## Kadhannaa Gargaarsa Barbaachaaf Kadhatame

# Faarfannaa 12

Dura bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit kan akka sirna *Shamiiniitiitti* faarfatamu.
1 Yaa WAAQAYYO, namni Waaqa sodaatu hin jiruutii ati na gargaar;
ilmaan namaa keessaas namni amanamu dhabameeraatii.
2 Namni hundinuu ollaa isaatti soba dubbata;
isaan nama saadanii garaa lamaan dubbatu.

3 WAAQAYYO afaan nama saadu hunda,

arraba of tuulu hundas haa kukkutu;
4 isaanis, “Nu arraba keenyaan ni moona;
hidhiin keenyas keenyuma;
eenyutu nurratti gooftummaa qaba?” jedhu.

5 WAAQAYYO, “Ani sababii hacuucamuu hiyyeeyyiitiif,
sababii aaduu rakkattootaatiifis amma nan ka’a.
Nagaa isaan hawwan keessas isaan nan jiraachisa” jedha.
6 Dubbiin WAAQAYYOO hir’ina hin qabu;
innis akka meetii boolla ibiddaa keessatti baqfamee
yeroo torba qulqulleeffamee ti.

7 Yaa WAAQAYYO ati nu eegda;
dhaloota akkanaa irraas bara baraan nu oolchita.
8 Yeroo wanni faayidaa hin qabne ilmaan namaa gidduutti kabajamutti
hamoonni of dhiibuudhaan kallattii hundaan asii fi achi naanna’u.

## Iyyata Nama Waaqa Amanatee

# Faarfannaa 13

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, hamma yoomiitti?
Ati hamma bara baraatti na irraanfattaa?
Hamma yoomiittis fuula kee na duraa dhoksita?
2 Ani hamma yoomiittin rakkina obsee
guyyaa guutuu garaa koo keessatti gadda?
Hamma yoomiitti diinni koo narra aana?

3 Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, na ilaali; deebii illee naa kenni.
Akka ani hirriba du’aa hin rafneefis ija kootiif ifa kenni;
4 diinni koo, “Ani isa mo’adheera” jedha;
amajaajiiwwan koos kufaatii kootti gammadu.

5 Ani garuu araara kee nan amanadha;
garaan koos fayyisuu keetti ni gammada.
6 Ani WAAQAYYOOF nan faarfadha;
arjummaan isaa naa baay’ateeraatii.

## Namoota Waaqaaf Hin Bulle

# Faarfannaa 14

*14:1-7 kwf – Far 53:1-6*

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Gowwaan garaa isaatti,
“Waaqni hin jiru” jedha.
Isaan xuraa’aniiru; hojiin isaaniis jibbisiisaa dha;
namni waan gaarii hojjetu tokko iyyuu hin jiru.

2 WAAQAYYO yoo namni waa hubatu,
kan Waaqas barbaadu, tokko iyyuu jiraate arguuf jedhee,
samii irraa ilmaan namootaa gad ilaala.
3 Hundinuu dogoggoraniiru; hundi isaaniis xuraa’aniiru;
namni waan gaarii hojjetu tokko hin jiru;

tokkumti iyyuu hin jiru.

4 Warri hammina hojjetan
kanneen akkuma waan buddeena nyaataniitti saba koo nyaatan,
warri WAAQAYYOON hin waammanne hundinuu homaa hin beekanii?
5 Isaan sodaadhaan liqimfamaniiru;
Waaqni dhaloota qajeeltotaa wajjin jiraatii.
6 Isin jal'oonni karoora hiyyeeyyii jalaa fashaleessitu;
WAAQAYYO garuu da'oo isaanii ti.

7 Maaloo utuu Xiyoon keessaa fayyinni Israa'eliif dhufee!
Yommuu WAAQAYYO saba isaa warra booji'aman deebisutti,
Yaaqoob haa ililchu; Israa'elis haa gammadu!

## Nama Akkamiitu Mana Waaqaa Keessa Jiraachuu Danda'a?

# Faarfannaa 15

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, eenyutu dunkaana kee keessa jiraata?
Eenyutu tulluu kee qulqulluu sana irra jiraachuu danda'a?

2 Nama adeemsi isaa mudaa hin qabnee fi
nama waan qajeelaa hojjetu,
nama garaa isaatii dhugaa dubbatuu fi
3 kan arraba isaatiin nama hin hamanne,
nama ollaa isaatti waan hamaa hin hojjennee fi
nama ollaa isaa maqaa hin balleessine,
4 kan nama hamaa tuffatee warra WAAQAYYOON sodaatan garuu kabaju,
yoo waan isa miidhu ta'e illee nama kakuu isaa eegu,
5 nama maallaqa isaa hiiqiidhaan hin liqeessinee fi
kan nama yakka hin qabne miidhuuf jedhee matta'aa hin fudhannee dha.

Namni wantoota kanneen hojjetu,
gonkumaa hin raafamu.

## Waaqayyo Dhaala Koo ti

# Faarfannaa 16

*Miiktaamii* Daawit.
1 Yaa Waaqi, ani kooluu sitti galeeraatii,
ati na eegi.

2 Anis WAAQAYYOON, "Ati Gooftaa koo ti;
ani si malee gaarummaa hin qabu" nan jedha.
3 Qulqulloonni lafa irraa garuu ulfina qabeeyyii dha;
anis isaanitti baay'ee nan gammada.
4 Warra waaqota tolfamoo duukaa bu'an,
gaddi isaanii ni guddata.
Dhibaayyuu dhiigaa ani isaaniif hin dhibaafadhu;
yookaan afaan kootiin maqaa isaanii hin dha'u.

5 WAAQAYYO qooda dhaala kootii fi qooda xoofoo koo ti;
ixaa koos situ naa jiraachisa.
6 Funyoon daangaa iddoo gaarii naa bu'eera;
dhugumaan ani dhaala nama gammachiisu qaba.

7 WAAQAYYO isa na gorsu sana ani nan jajadha;
halkanis yaadni koo na qajeelcha.
8 Ani yeroo hunda fuula koo duraa WAAQAYYOON qaba.
Waan inni mirga koo jiruuf ani hin raafamu.

9 Kanaaf garaan koo ni gammada; arrabni koos ni ililcha;
foon koos nagaadhaan jiraata;
10 ati sii'ool keessatti na hin dhiiftuutii,
yookaan amanamaan kee akka tortoru hin gootu.
11 Ati karaa jireenyaa na barsiifta; fuula kee durattis
gammachuudhaan na guutta;
gara mirga keetii gammachuu bara baraatu jira.

## Iyyata Nama Qajeelaa

# Faarfannaa 17

Kadhannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, iyyata ani murtii qajeelaaf iyyadhu dhaga'i;
boo'icha koos dhaggeeffadhu.
Kadhannaa koo kan afaan nama hin gowwoomsine
keessaa ba'uufis gurra kenni.
2 Murtiin koo si biraa haa dhufu;
iji kees waan qajeelaa haa argu.

3 Ati yoo garaa koo qorte, halkaniinis yoo na ilaalte,
yoo na sakattaates, homaa narratti hin argattu;
ani akka afaan koo cubbuu hin hojjenneef kutadheeraatii.
4 Waa'ee hojii namootaa immoo ani dubbii afaan keetiitiin
karaa gooltotaa irraa of eeggadheera.
5 Tarkaanfiin koo karaa kee irratti cimeera;
miilli koos hin mucucaanne.

6 Yaa Waaqi, waan ati deebii naa kennituuf ani sin waammadha;
gurra kee gara kootti qabiitii kadhannaa koo dhaga'i.
7 Yaa isa warra diinota isaanii jalaa sitti baqatan
harka kee mirgaatiin oolchitu,
ati jaalala kee isa hin geeddaramne sana haala dinqisiisaadhaan argisiisi.
8 Akka agartuu ija keetiitti na eegi;
gaaddidduu qoochoo keetiitiinis na dhoksi;
9 hamoota na dhiphisan jalaa,
diinota na ajjeesuuf na marsan jalaa na baasi.

10 Isaan garaa isaanii kan namaa hin naane sana ni guduunfu;
afaan isaaniis of tuulummaadhaan dubbata.
11 Isaan faana na dha'u; ammas na marsaniiru;
lafaan na dha'uudhaafis ija babaasu.
12 Isaan akka leenca waa kukkutachuu kajeeluu ti;

akka leenca guddaa riphee waa gaaduu ti.

13 Yaa WAAQAYYO ka'i; itti ba'iitii isaan kuffisi;
goraadee keetiinis hamoota jalaa na baasi.
14 Yaa WAAQAYYO, namoota akkanaa jalaa,
namoota addunyaa kanaa warra qoodni isaanii jireenyuma ammaa ta'e jalaa harka keetiin na baraari.
Garaan isaanii waan ati isaaniif kuufte haa quufu;
ijoolleen isaaniis akka malee haa quufan;
isaanis waan isaan irraa hafe daa'imman isaaniitiif haa kaa'an.

15 Ani garuu qajeelummaadhaan fuula kee nan arga;
yommuun dammaquttis ani ulfina kee arguudhaan nan quufa.

## Faarfannaa Mo'annaa

# Faarfannaa 18

*18:1-50 kwf – 2Sm 22:1-51*

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit garbicha WAAQAYYOO; innis yommuu WAAQAYYO harka diinota isaa hundaa fi harka Saa'ol jalaa isa baasetti dubbii faarfannaa kana WAAQAYYOOF faarfate. Innis akkana jedhe:
1 Yaa WAAQAYYO jabina ko, ani sin jaalladha.

2 WAAQAYYO kattaa koo, da'annoo kootii fi oolchaa koo ti;
Waaqni koo kattaa koo kan ani kooluu itti galuu dha;
inni gaachana kootii fi gaanfa fayyina koo ti; da'annoo koo cimaa dha.

3 Ani WAAQAYYO galanni isaaf malu sana nan waammadha;
diinota koo jalaas nan baraarama.
4 Funyoon du'aa na xaxe;
lolaan badiisaas na liqimseera.
5 Funyoon sii'ool natti marame;
kiyyoon du'aas natti dhufe.

6 Ani dhiphina koo keessatti WAAQAYYOON nan waammadhe;
gargaarsaafis Waaqa kootti nan iyyadhe.
Innis mana qulqullummaa isaatii sagalee koo dhaga'e;
iyyi koos gurra isaa seene.
7 Lafti ni hollatte; ni sochootes;
hundeewwan tulluuwwaniis ni raafaman;
sababii inni dheekkameefis isaan ni hollatan.
8 Aarri funyaan isaatii ol ba'e;
ibiddi waa barbadeessu afaan isaatii ba'e;
cileen boba'us afaan isaatii ba'e.
9 Inni samiiwwan tarsaasee gad bu'e;
duumessoonni gurraachis miilla isaa jala turan.
10 Inni kiirubeelin yaabbatee barrise;
qoochoo qilleensaatiinis ol ba'e.
11 Inni dukkana haguuggii isaa, duumessa samii kan
bokkaadhaan dukkanaa'e immoo godoo isaa godhate.
12 Ifa fuula isaa keessaas duumessi dhagaa cabbiitii fi
bakakkaadhaan tarsaasee ba'e.

13 WAAQAYYO samiidhaa ni qaqawweessa’e;
sagaleen Waaqa Waan Hundaa Oliis ni dhaga’ame.
14 Inni xiyya isaa darbatee diinota bittinneesse;
bakakkaas gad dhiisee isaan fixe.
15 Yaa WAAQAYYO, dheekkamsa keetiin,
humna hafuura funyaan keetii ba’uutiinis,
sululawwan galaanaa ifatti baafaman;
hundeewwan lafaas qullaa hafan.

16 Inni ol gubbaadhaa gad hiixatee na qabe;
bishaanota gad fagoo keessaas na baase.
17 Inni diina koo isa jabaa jalaa, amajaajota koo
warra akka malee natti ciman jalaas na baase.
18 Isaan guyyaa rakkina kootti natti dhufan;
WAAQAYYO garuu gargaarsa koo ture.
19 Inni iddoo bal’aatti na baase;
waan natti gammadeefis na oolche.

20 WAAQAYYO akkuma qajeelummaa kootiitti naa kenneera;
akkuma qulqullina harka koottis na badhaase.
21 Ani karaa WAAQAYYOO eegeeraatii;
Waaqa koo irraa garagalee hammina hin hojjenne.
22 Seerri isaa hundinuu fuula koo dura jira;
anis labsii isaa irraa hin gorre.
23 Ani fuula isaa duratti mudaa hin qabu ture;
cubbuu irraas of eeggadheera.
24 WAAQAYYO akkuma qajeelumma kootti,
akkuma harki koo fuula isaa duratti qulqulluu ta’ettis na badhaaseera.

25 Ati nama amanamaatti amanamummaa kee argisiifta;
nama mudaa hin qabnettis kan mudaa hin qabne taata.
26 Nama qulqulluutti qulqulluu taata;
nama jal’aatti immoo jal’aa taata.
27 Ati warra gad of qaban ni oolchita;
ija of tuulu garuu gad deebifta.
28 Yaa WAAQAYYO ati ibsaa koo jabeessitee ni ibsita;
Waaqni koo dukkana koo ifatti ni geeddara.
29 Ani gargaarsa keetiin loltoota dhiibbadhee nan deema;
Waaqa kootiinis dallaa utaaluu nan danda’a.

30 Waaqa kana karaan isaa mudaa hin qabu;
dubbiin WAAQAYYOO hir’ina hin qabu;
warra isatti kooluu galan hundaaf WAAQAYYO gaachana ta’a.
31 WAAQAYYO malee Waaqni eenyu?
Waaqa keenya malees kattaan eenyu?
32 Kan humna na hidhachiisu,
kan akka karaan koos nagaa ta’u godhu Waaqa.
33 Inni miilla koo akka miilla borofaa godha;
iddoo ol dheeraa irras na dhaabachiisa.
34 Inni harka koo waraanaaf leenjisa;

irreen koos iddaa naasii dabsuu ni danda'a.
35 Ati gargaarsa kee kan nama fayyisu gaachana naaf goota;
harki kee mirgaa ol na qabeera;
gargaarsi kees nama guddaa na godhe.
36 Akka koomeen koo hin mucucaanneef,
miilla kootiif daandii bal'ifteerta.

37 Ani diinota koo ari'ee nan qaqqabadhe;
hamma isaan barbadaa'anittis ani duubatti hin deebine.
38 Ani akka isaan deebi'anii ka'uu hin dandeenyeef isaan nan barbadeesse;
isaanis miilla koo jalatti ni kufan.
39 Ati lolaaf humna na hidhachiifte;
amajaajota koos fuula koo duratti gad deebifte.
40 Akka diinonni koo dugda duubatti deebi'anii baqatan gooteerta;
anis amajaajota koo barbadeesseera.
41 Isaan gargaarsaaf iyyan; garuu kan isaan oolchu tokko iyyuu hin turre;
gara Waaqayyoottis ni iyyatan; inni garuu deebii hin kennineef.
42 Anis akkuma awwaara bubbeen fudhatuutti isaan nan daake;
akkuma dhoqqee daandii irraatti isaan nan dhidhiite.
43 Ati lola namootaa jalaa na baafteerta;
mataa sabootaa na gooteerta;
sabni ani hin beekne na tajaajila.
44 Namoonni ormaa na sossobatan;
isaan akkuma waa'ee koo dhaga'aniin naaf ajajaman.
45 Isaan hundi abdii kutatan;
hollachaas da'annoo isaanii jabaa keessaa ba'an.

46 Waaqayyo jiraataa dha! Kattaan koo haa eebbifamu!
Waaqni Fayyisaan koo ol ol haa jedhu!
47 Inni Waaqa haaloo naa baasu,
kan sabootas na jalatti bulchuu dha;
48 diinota koo jalaas na baasa.
Ati amajaajota kootii ol na goota;
gooltota jalaas na baafte.
49 Kanaafuu yaa Waaqayyo, ani saboota gidduutti sin leellisa;
faarfannaa galataa illee maqaa keetiif nan faarfadha.

50 Inni mo'annaawwan gurguddaa mootii isaatiif ni kenna;
dibamaa isaa Daawitii fi sanyii isaatiif,
jaalala bara baraa ni argisiisa.

## Waaqayyo Biiftuu Qajeelummaati

# Faarfannaa 19

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Samiiwwan ulfina Waaqaa odeessu;
bantiin samiis hojii harka isaa labsa.
2 Guyyaan tokko guyyaa kaanitti odeessa,
halkan tokkos halkan kaanitti beekumsa mul'isa.
3 Haasaan yookaan dubbiin hin jiru;
sagaleen isaaniis hin dhaga'amu.
4 Ta'us sagaleen isaanii lafa hundumaa,

dubbiin isaaniis handaara addunyaa ga'e.
Inni samiiwwan keessatti biiftuudhaaf dunkaana dhaabe;
5 biiftuunis akkuma misirricha dinqa isaatii ba'uutii fi
akkuma mo'ataa fiigicha dorgomutti gammadu tokkoo ti.
6 Isheenis handaara samiiwwanii tokkoo baatee
gara handaara kaaniitti naannofti;
wanni ho'a ishee jalaa dhokatu tokko iyyuu hin jiru.

7 Seerri WAAQAYYOO mudaa hin qabu;
lubbuu namatti deebisa.
Ajajni WAAQAYYOO amanamaa dha;
nama wallaalaa beekaa godha.
8 Seerri WAAQAYYOO qajeelaa dha;
garaadhaaf gammachuu kenna.
Ajajni WAAQAYYOO qulqulluu dha;
ijaafis ifa kenna.
9 WAAQAYYOON sodaachuun qulqulluu dha;
bara baraan jiraata.
Murtiin WAAQAYYOO dhugaa dha;
walumaa galattis qajeelaa dha.
10 Inni warqee caalaa, warqee akka malee qulqulleeffame
caalaa iyyuu gatii qabeessa;
inni damma caalaa,
nadhii dammaa caalaa mi'aawaa dha.
11 Murtii kanaanis tajaajilaan kee ni gorfama;
isa eeguunis gatii guddaa qaba.

12 Eenyutu dogoggora isaa hubachuu danda'a?
Yakka koo isa dhokfamaa irraa na qulqulleessi.
13 Tajaajilaa kee cubbuu ija jabinaan hojjetamu irraa eegi;
cubbuun kunis na hin mo'atin.
Yoos ani hir'ina malee nan jiraadha;
dogoggora guddaa irraas qulqulluu nan ta'a.

14 Yaa WAAQAYYO, Kattaa koo fi Furii ko,
dubbiin afaan kootii fi yaadni garaa koo
fuula kee duratti fudhatamaa haa ta'u.

## Kadhannaa Mootiif Kadhatame

# Faarfannaa 20

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Guyyaa rakkinaatti WAAQAYYO deebii siif haa kennu;
maqaan Waaqa Yaaqoobis si haa eegu.
2 Inni iddoo qulqulluudhaa gargaarsa siif haa ergu;
Xiyoon irraas jabina siif haa kennu.
3 Aarsaa kee hunda siif haa yaadatu;
qalma kee kan gubamus siif haa fudhatu.
4 Hawwii garaa keetii siif haa kennu;
karoora kee hundas fiixaan siif haa baasu.
5 Yommuu ati mo'attutti ililchinee
maqaa Waaqa keenyaatiin faajjii keenya ol fudhanna.

WAAQAYYO waan ati kadhattu hundumaa siif haa kennu.

6 Ani akka WAAQAYYO dibamaa isaa fayyisu amma beeka;
Waaqayyo humna nama fayyisu kan harka isaa mirgaa keessa jiru sanaan
samii isaa qulqulluu keessaa deebii ni kennaaf.
7 Namoonni tokko tokko gaariiwwan amanatu; kaan immoo fardeen amanatu;
nu garuu maqaa WAAQAYYO Waaqa keenyaa amananna.
8 Isaan gufatanii kufu; nu garuu ol kaana;
jabaannees ni dhaabanna.
9 Yaa WAAQAYYO, ati mootiidhaaf mo'annaa kenni!
Yommuu nu si waammannuttis deebii nuu kenni!

## Galata Waa'ee Mootichaatiif Dhi'aate

# Faarfannaa 21

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, mootiin jabina keetti baay'ee gammada.
Gargaarsa keettis gammachuun isaa hammam guddaa dha!

2 Ati hawwii garaa isaa kenniteefii jirta;
kadhannaa afaan isaas isa hin dhowwanne.
3 Ati eebba guddaadhaan isa simatte;
gonfoo warqee qulqulluus mataa isaa irra keesse.
4 Inni jireenya si kadhate; atis ni kenniteef;
bara dheeraas bara baraa hamma bara baraatti kenniteef.
5 Ulfinni isaa mo'annaa ati isaaf kenniteen guddaa ta'e;
atis ulfinaa fi surraa isatti uwwifte.
6 Ati eebba bara baraa kenniteef;
akka inni gammachuu argama keetiitiin gammadus goote.
7 Mootichi WAAQAYYOON amanataatii;
sababii jaalala Waaqa Waan Hundaa Olii
kan hin geeddaramne sanaatiifis inni hin raafamu.

8 Harki kee diinota kee hunda ni qabata;
harki kee mirgaas warra si jibban ni qaba.
9 Yeroo mul'achuu keetiitti,
akka boolla ibiddi keessaa boba'uu isaan goota.
WAAQAYYO dheekkamsa isaatiin isaan liqimsa;
ibiddis isaan fixa.
10 Ati sanyii isaanii lafa irraa,
ijoollee isaaniis ilmaan namaa gidduudhaa ni balleessita.
11 Isaan yoo waan hamaa sitti yaadan,
yoo daba sitti mari'atanis hin milkaa'an.
12 Ati yommuu iddaa kee isaanitti qabdutti,
akka isaan baqatan gootaatii.

13 Yaa WAAQAYYO, jabina keetiin ol ol jedhi;
nu humna kee ni jajanna; ni faarfannas.

## Rakkinaa Fi Abdii Nama Qajeelaa

# Faarfannaa 22

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Yeedaloo "Borofa Ganamaa" jedhu. Faarfannaa Daawit.

1 Yaa Waaqa ko, yaa Waaqa ko, ati maaliif na dhiifte?
Ati na gargaaruu irraa,
iyya koo irraas maaliif akkas fagaatta?
2 Yaa Waaqa ko, ani guyyaa guyyaa sittin iyyadha;
ati garuu deebii naaf hin deebiftu;
halkan halkanis afaan hin qabadhu.

3 Ati garuu Qulqullicha teessoo irra taa'uu dha;
ati galata Israa'el.
4 Abbootiin keenya si amanatan;
isaan si amanatan; atis isaan oolchite.
5 Isaan sitti iyyatan; ni fayyifamanis;
si amanatan; hin qaanofnes.

6 Ani garuu raammoodha malee nama miti;
ani nama namni itti qoosuu fi sabnis tuffatuu dha.
7 Warri na argan hundinuu natti kolfu;
mataa isaanii raasanii na arrabsu.
8 Akkanas jedhu; "Inni Waaqayyoon amanata;
mee Waaqayyo isa haa oolchu kaa.
Inni waan isatti gammaduuf, isa haa oolchu."

9 Ati garuu gadameessa keessaa na baafte;
harma haadha koo irrattis, situ nagaan na eege.
10 Ani gaafan dhaladhee jalqabee sirratti nan gatame;
erga haati koo na deessee jalqabdee ati Waaqa koo ti.
11 Ati narraa hin fagaatin;
rakkinni dhi'aateeraatii;
namni na gargaarus hin jiru.

12 Korommiin baay'een na marsu;
korommiin Baashaan jajjaboonis karaa hundumaan na marsu.
13 Isaanis akka leenca beela'ee aaduu
afaan isaanii bal'isanii natti banatu.
14 Ani akkuma bishaaniitti nan dhangalaafame;
lafeen koo hundinuus wal gad dhiise.
Onneen koo gara gagaatti geeddarame;
na keessattis baqe.
15 Jabinni koo akka qiraacii goge;
arrabni koo laagaatti na maxxane;
awwaara du'aa keessas na ciibsite.
16 Saroonni na marsaniiru;
gareen namoota hamoo na marseera;
isaanis harkaa fi miilla koo waraananii fullaasaniiru.
17 Ani lafee koo hunda lakkaa'uu nan danda'a;
isaanis ija babaasanii na ilaalu; akkas ta'uu koottis ni gammadu.
18 Isaan wayyaa koo hiratan;
uffata koottis ixaa buufatan.

19 Yaa Waaqayyo, ati garuu narraa hin fagaatin;
yaa Jabina koo na gargaaruuf ariifadhu.
20 Lubbuu koo goraadee jalaa,

jireenya koo immoo humna sarootaa jalaa baasi.
21 Afaan leencaa jalaa na miliqsi;
gaanfa gafarsaa jalaas na baasi.

22 Maqaa kee obboloota kootti nan labsa;
waldaa keessattis sin jajadha.
23 Isin warri WAAQAYYOON sodaattan isa jajadhaa!
Isin sanyiin Yaaqoob hundinuu isa ulfeessaa!
Sanyiin Israa'el hundinuus isa sodaadhaa!
24 Inni dhiphina nama dhiphatee hin tuffanne
yookaan hin balfineetii;
yommuu inni gargaarsaaf isatti iyyatettis,
ni dhaga'eef malee fuula isaa hin dhokfanne.

25 Galanni ani yaa'ii guddaa irratti siif galchu si biraa dhufa;
warra si sodaatan durattis wareega koo of irraa nan baasa.
26 Hiyyeeyyiin nyaatanii quufu;
warri WAAQAYYOON barbaaddatanis isa ni jajatu;
garaan keessan bara baraan haa jiraatu!
27 Handaarri lafaa hundinuu ni yaadata;
gara WAAQAYYOOTTIS ni deebi'a;
maatiiwwan sabootaa hundinuus
fuula isaa duratti ni sagadu;
28 mootummaan kan WAAQAYYOOTII;
innis saboota hunda ni bulcha.

29 Sooreyyiin lafaa hundinuu ni nyaatu; ni waaqeffatus;
warri of jiraachisuu hin dandeenye kanneen biyyoo seenan hundi
fuula isaa duratti ni jilbeenfatu.
30 Dhaloonni dhufu isa tajaajila;
dhaloota boriittis waa'een Gooftaa ni himama.
31 Sababii inni waan kana hojjeteef,
isaan saba dhalachuuf jirutti qajeelummaa isaa ni labsu.

## Tiksee Gaarii

# Faarfannaa 23

Faarfannaa Daawit.
1 WAAQAYYO tiksee koo ti; ani homaa hin dhabu.
2 Inni marga lalisaa keessa na boqochiisa;
gara bishaan tasgabbaa'aattis na geessa;
3 inni lubbuu natti deebisa.
Maqaa isaatiif jedhees
karaa qajeelaa irra na deemsisa.
4 Ani yoon sulula gaaddisa du'aa keessa deeme illee
ati waan na wajjin jirtuuf, homaa hin sodaadhu;
uleen keetii fi bokkuun kee na jajjabeessu.

5 Ati utuma diinonni koo ilaalanuu
fuula koo duratti maaddii naa qopheessita.
Mataa koo zayitii dibda;
xoofoon koos guutuu irraan dhangala'aa dha.

6 Dhugumaan gaarummaan keetii fi araarri kee,
bara jireenya kootii hunda na duukaa bu'u;
anis bara baraan, mana WAAQAYYOO keessa nan jiraadha.

## Faarfannaa Mootii Ulfinaatiif Faarfatame

# Faarfannaa 24

Faarfannaa Daawit.
1 Laftii fi wanni lafa irra jiru hundinuu,
addunyaa fi wanni ishee keessa jiraatu hundinuus kan WAAQAYYOO ti;
2 inni galaanota irratti ishee hundeesseeraatii;
bishaan irras ishee dhaabeera.

3 Eenyutu tulluu WAAQAYYOOTTI ol ba'a?
Iddoo isaa qulqulluu sanas eenyutu dhaabata?
4 Nama harka qulqulluu fi garaa qulqulluu qabu,
nama lubbuu isaa gara waaqa tolfamaatti ol hin kaafne
yookaan nama sobaan hin kakannee dha.
5 Inni WAAQAYYO biraa eebba,
Waaqa Fayyisaa isaa biraa immoo qajeelummaa ni argata.
6 Dhaloonni kun dhaloota warra isa barbaadanii ti;
kan dhaloota warra fuula Waaqa Yaaqoob barbaadanii ti.

7 Yaa karroota nana, mataa keessan ol qabadhaa;
isinis balbalawwan durii,
akka mootiin ulfinaa ol galuuf ol qabamaa.
8 Mootiin ulfinaa kun eenyu?
WAAQAYYO jabaa fi humna qabeessa,
WAAQAYYO isa waraana keessattis humna qabu sanaa dha.
9 Yaa karroota nana, mataa keessan ol qabadhaa;
isinis balbalawwan durii akka mootiin ulfinaa ol galuuf
mataa keessan ol qabadhaa.
10 Mootiin ulfinaa kun eenyu?
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u sun,
inni Mootii ulfinaa ti.

## Kadhannaa Yeroo Balaa

# Faarfannaa 25

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, ani lubbuu koo gara keetti
ol nan qaba.

2 Yaa Waaqa koo ani sin amanadha.
Ati na hin qaanessin;
akka diinonni koo na mo'atanis hin godhin.
3 Namni si eeggatu tokko iyyuu
yoom iyyuu hin qaaneffamu;
warri sababii malee yakka hojjetan
garuu ni qaaneffamu.

4 Yaa WAAQAYYO, karaa kee na argisiisi;
daandii kees na barsiisi;

5 ati Waaqa Fayyisaa koo waan taateef,
dhugaa keetiin na dura bu'i; na barsiisi;
anis guyyaa guutuu sin eeggadha.
6 Yaa WAAQAYYO, araara keetii fi jaalala kee yaadadhu;
isaan durumaa jalqabanii jiruutii.
7 Cubbuu afaan kootii
yookaan dogoggora koo hin yaadatin;
yaa WAAQAYYO, gaarummaa keetiif jedhiitii
akkuma araara keetiitti na yaadadhu.

8 WAAQAYYO gaarii dha; tolaadhas;
kanaafuu inni daandii isaa cubbamootatti argisiisa.
9 Warra gad of qaban waan qajeelaa ta'een geggeessa;
karaa isaas isaan barsiisa.
10 Karaan WAAQAYYOO hundinuu
warra kakuu isaatii fi seera isaa eeganiif araaraa fi dhugaa dha.
11 Yaa WAAQAYYO, cubbuun koo guddaa ta'u iyyuu
maqaa keetiif jedhiitii dhiifama naa godhi.
12 Namni WAAQAYYOON sodaatu eenyu?
Waaqayyo karaa inni filachuu qabu isa argisiisa.
13 Lubbuun isaa badhaadhummaadhaan jiraatti;
sanyiin isaas lafa dhaala.
14 WAAQAYYO icciitii isaa warra isa sodaatan duraa hin dhoksu;
kakuu isaa illee isaan beeksisa.
15 Iji koo yeroo hunda gara WAAQAYYOO ilaala;
inni miilla koo kiyyoo keessaa ni baasaatii.

16 Gara kootti garagali; garaas naa laafi;
ani kophaa koon jiraatii; rakkataadhas.
17 Yaaddoon garaa kootii baay'ateera;
dhiphina koo keessaas na baasi.
18 Dhiphina kootii fi rakkina koo ilaali;
cubbuu koo hunda naa dhiisi.
19 Akka diinonni koo baay'atan,
hammam akka cimsanii na jibban argi!
20 Lubbuu koo eegi; na oolchis;
sababii ani kooluu sitti galeef,
akka ani qaana'u na hin godhin.
21 Waan ani si eeggadhuuf, amanamummaa fi
qajeelummaan ana haa eegan.

22 Yaa Waaqayyo, rakkina isaa hundumaa keessaa
Israa'elin furi!

## Kadhannaa nama qajeelaa

# Faarfannaa 26

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, sababii ani jireenya hir'ina
hin qabne jiraadheef, ati naa murteessi;
anis utuu asii fi achi hin raafamin,
WAAQAYYOON amanadheera.

2 Yaa WAAQAYYO, qoriitii na ilaali;
garaa koo fi qalbii koo qori;
3 jaalalli kee kan hin geeddaramne sun ija koo dura jiraatii;
anis dhugaa keetiin nan deddeebi'a.

4 Ani warra nama gowwoomsan wajjin hin taa'u,
yookaan fakkeessitoota wajjin tokkummaa hin qabaadhu;
5 ani waldaa warra hammina hojjetanii nan jibba;
hamoota wajjinis hin taa'u.
6 Yaa WAAQAYYO, ani harka koo qulqullummaadhaan nan dhiqadha;
iddoo aarsaa keetii irras nan naanna'a.
7 Faarfannaa galataa guddisee nan faarfadha;
dinqii hojii keetii hunda nan odeessa.

8 Yaa WAAQAYYO, mana ati keessa jiraattu,
iddoo ulfinni kee jirus nan jaalladha.
9 Lubbuu koo cubbamoota wajjin, jireenya koos
warra dhiiga dhangalaasan wajjin hin balleessin;
10 warra harka isaanii keessa karoorri jal'inaa jiru
kanneen harki isaanii mirgaa matta'aadhaan guutame wajjin na hin balleessin.
11 Ani garuu jireenya hir'ina hin qabne nan jiraadha;
ati na furi; araaras naa buusi.

12 Miilli koo lafa wal qixxee irra dhaabata;
waldaa guddaa keessattis WAAQAYYOON nan jajadha.

## Ija Jabina Nama Waaqayyoo

# Faarfannaa 27

Faarfannaa Daawit.
1 WAAQAYYO ibsaa kootii fi fayyina koo ti;
ani eenyunan sodaadha?
WAAQAYYO da'oo jireenya kootii ti;
eenyutu na sodaachisa?
2 Namoonni hamoon yommuu
foon koo nyaachuudhaaf natti dhufan,
diinonni koo fi amajaajonni koo
yommuu na miidhuuf natti ka'an, gufatanii kufu.
3 Yoo duulli na marse illee,
garaan koo hin sodaatu;
yoo waraanni natti baname illee
ani hin raafamu.

4 Ani waan tokko WAAQAYYOON nan kadhadha;
waan kanas nan barbaada:
Kunis bara jireenya kootii guutuu
mana WAAQAYYOO keessa jiraachuu,
miidhagina WAAQAYYOO ilaaluu fi mana qulqullummaa isaa
keessatti isa kadhachuu dha.
5 Inni guyyaa rakkinaa
iddoo ofii jiraatu na kaa'ataatii;
da'oo dunkaana isaa jala na dhoksa;

kattaa gubbaattis ol na baasa.

6 Yommus diinota na marsanii olitti
mataan koo ol jedha;
dunkaana isaa keessatti illee ililleedhaan aarsaa nan dhi’eessa;
WAAQAYYOOF nan faarfadha; nan weeddisas.

7 Yaa WAAQAYYO, yommuu ani si waammadhu, sagalee koo dhaga’i;
naaf araarami; deebiis naaf kenni.
8 Yommuu ati, “Fuula koo barbaadaa!” jettetti,
garaan koo, “Yaa WAAQAYYO, ani fuula kee nan barbaada” siin jedha.
9 Fuula kee na duraa hin dhoksin;
aartee tajaajilaa kee of irraa hin deebisin;
ati gargaaraa koo taateerta.
Yaa Waaqayyo, Fayyisaa ko,
na hin gatin; na hin dhiisinis.
10 Yoo abbaan kootii fi haati koo na dhiisan illee,
WAAQAYYO na simata.
11 Yaa WAAQAYYO, karaa kee na barsiisi;
sababii ani diinota baay’ee qabuuf
daandii qajeelaa irra na buusi.
12 Fedhii diinota kootiitti dabarsitee na hin kennin;
dhuga baatonni sobduun narratti ka’aniiruutii;
isaanis hafuura jal’inaa baafatu.

13 Anis biyya jiraattotaa keessatti
gaarummaa WAAQAYYOO akkan argu
amma iyyuu nan amana.
14 WAAQAYYOON eeggadhu;
cimi; jabaadhus;
WAAQAYYOON eeggadhu.

## Kadhannaa Fi Galata

# Faarfannaa 28

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, Kattaa ko, ani sin waammadha;
ati na jalaa hin didin.
Yoo ati na jalaa didde,
ani akka warra boolla bu’anii nan ta’a.
2 Yommuu ani gargaarsaaf si waammadhee harka koo illee
gara Iddoo Qulqullummaa kee
kan Waan Hundumaa Caalaa Qulqulluu ta’e
sanaatti ol kaafadhu, sagalee kadhannaa koo naa dhaga’i.

3 Namoota hamoo warra jal’ina hojjetan wajjin,
warra garaa isaaniitti hammina qabatanii
olloota isaanii wajjin garuu
nagaa dubbatan wajjin na hin balleessin.
4 Akka hojii isaaniitti,
akkuma hojii isaanii hamaa sanaattis deebisiif;
akkuma hojii harka isaaniitti kenniif;

gatii isaaniif malu isaanumatti deebisi.

5 Sababii isaan hojii WAAQAYYOO,
yookaan waan harki isaa hojjete hin kabajneef
inni isaan diiga;
deebisees isaan hin ijaaru.

6 WAAQAYYO haa eebbifamu!
Inni iyya kadhannaa kootii naa dhaga'eeraatii.
7 WAAQAYYO jabina koo fi gaachana koo ti;
garaan koo isa amanata; anis gargaarsa argadheera.
Garaan koo baay'ee gammada;
anis faarfannaadhaan isa nan galateeffadha.

8 WAAQAYYO jabina saba isaa ti;
dibamaa isaatiifis da'oo fayyinaa ti.
9 Saba kee fayyisi; dhaala kees eebbisi;
tiksee isaanii ta'ii bara baraan isaan baadhu.

## Faarfannaa Gooftaa Bubbeetiif Dhi'aate

# Faarfannaa 29

Faarfannaa Daawit.
1 Isin jajjabeeyyiin, WAAQAYYOOF fidaa;
ulfinaa fi jabina WAAQAYYOOF fidaa.
2 Ulfina maqaa isaatiif malu WAAQAYYOOF kennaa;
iddoo qulqullummaa isaatti WAAQAYYOON waaqeffadhaa.

3 Sagaleen WAAQAYYOO bishaanota irra jira;
Waaqni ulfinaa ni qaqawweessa'a;
WAAQAYYO bishaanota baay'ee irratti ni qaqawweessa'a.
4 Sagaleen WAAQAYYOO humna qaba;
sagaleen WAAQAYYOO surra qabeessa.
5 Sagaleen WAAQAYYOO birbirsa ni cabsa;
WAAQAYYO birbirsa Libaanoon ni caccabsa.
6 Inni Libaanoonin akka jabbiitti,
Siiriyoonin immoo akka dibicha gafarsaatti ni utaalchisa.
7 Sagaleen WAAQAYYOO
balaqqeessa bakakkaatiin rukuta.
8 Sagaleen WAAQAYYOO gammoojjii sochoosa;
WAAQAYYO Gammoojjii Qaadesh sochoosa.
9 Sagaleen WAAQAYYOO qilxuu micciira;
bosonas qullaatti hambisa.
Hundinuus mana qulqullummaa isaa keessatti, “Ulfina!” jedhee iyya.

10 WAAQAYYO lolaa badiisaatiin olitti teessoo isaa irra taa'a;
WAAQAYYO Mootii ta'ee bara baraan teessoo isaa irra taa'a.
11 WAAQAYYO saba isaatiif jabina kenna;
WAAQAYYO saba isaa nagaadhaan eebbisa.

## Galata Nama Afaan Du'aatii Deebi'ee

# Faarfannaa 30

Faarfannaa eebba mana qulqullummaatiif Faarfatame. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, sababii ati ol na fuutee
akka diinonni koo natti hin gammanne gooteef,
ani sin jajadha.
2 Yaa WAAQAYYO Waaqa ko,
ani gargaarsaaf sin waammadhe; atis na fayyifte.
3 Yaa WAAQAYYO, ati lubbuu koo sii'oolii baafte;
akka ani boolla hin buune gootees na jiraachifte.

4 Isin qulqulloonni isaa, faarfannaadhaan WAAQAYYOON jajadhaa;
maqaa isaa qulqulluu sanaafis galata galchaa.
5 Dheekkamsi isaa hamma liphsuu ijaa ti;
gaarummaan isaa immoo bara jireenyaa guutuudhaaf tura;
boo'ichi galgala tokko qofaaf tura;
ganama garuu ililleetu ta'a.

6 Anis yommuun nagaa argadhetti,
"Ani gonkumaa hin raafamu" nan jedhe.
7 Yaa WAAQAYYO, ati jaalala keetiin
akka tulluu jabaatti na dhaabde;
yeroo ati fuula kee na duraa dhoksitetti garuu
naasuutu na qabate.

8 Yaa WAAQAYYO, ani sin waammadha;
ani gara Gooftaatti akkana jedhee araaraaf nan iyyadha:
9 "Du'uu koo keessaa, boolla bu'uu koo keessaas
faayidaa maaliitu argama?
Biyyoon si galateeffataa?
Amanamummaa kees ni odeessaa?
10 Yaa WAAQAYYO na dhaga'i; na maaris;
Yaa WAAQAYYO, gargaarsa naa ta'i."

11 Ati boo'icha koo shuubbisuutti geeddarte;
wayyaa gaddaa narraa baaftee gammachuu natti uwwifte;
12 kunis akka lubbuun koo faarfannaadhaan si jajattuu fi
akka isheen hin cal'isneefii dha.
Yaa WAAQAYYO Waaqa ko, ani bara baraan sin galateeffadha.

## Kadhannaa Yeroo Rakkinaa

# Faarfannaa 31

*31:1-4 kwf – Far 71:1-3*

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, ani kooluu sitti galeera;
ati gonkumaa na hin qaanessin;
qajeelummaa keetiin na oolchi.
2 Gurra kee gara kootti qabi; dafiitii na oolchi;
kattaa ani itti kooluu galu naa ta'i;
na oolchuudhaafis da'oo jabaa naa ta'i.
3 Ati waan kattaa koo fi da'oo koo taateef,
maqaa keetiif jedhiitii na qajeelchi; karaa irras na buusi.

4 Ati iddoo ani itti baqadhu waan taateef,
kiyyoo diinonni koo naa kaa’an keessaa na baasi.
5 Ani hafuura koo dabarsee harka keettin kennadha;
yaa WAAQAYYO Waaqa dhugaa, ati na furi.

6 Ani warra waaqota faayidaa hin qabne abdatan nan jibba;
WAAQAYYOON garuu nan amanadha.
7 Ani jaalala kee kan hin geeddaramne sanatti nan gammada; nan ililchas;
ati dhiphina koo argiteertaatii;
rakkina lubbuu kootii illee beekteerta.
8 Ati dabarsitee diinatti na hin kennine;
miilla koos iddoo bal’aa irra dhaabdeerta.

9 Yaa WAAQAYYO, ani dhiphina keessan jiraatii na baasi;
iji koo gaddaan, lubbuun koo fi dhagni koo gaddaan dadhabaniiru.
10 Jireenyi koo gaddaan, umuriin koo aaduudhaan dhumeera;
jabinni koo sababii dhiphina kootiitiif laafeera;
lafeen koos xuuxameera.
11 Sababii diinota koo hundaatiif,
ani olloota koo biratti waan sodaachisaa,
michoota koo biratti immoo waan jibbisiisaa ta’eera;
warri karaa irratti na arganis na baqatu.
12 Ani akkuma nama du’eetti irraanfatameera;
akkuma qodaa cabaas nan ta’e.
13 Asaasa namoota baay’ee nan dhaga’aatii;
kallattii hundaan sodaatu jira!
Isaan natti malatanii
lubbuu koo balleessuuf mari’atan.

14 Yaa WAAQAYYO, ani garuu sin amanadha;
“Ati Waaqa koo ti” nan jedha.
15 Barri koo si harka jira; diinota koo jalaa,
warra na ari’atan harkaas na baasi.
16 Fuulli kee tajaajilaa kee irratti haa ifu;
jaalala kee kan hin geeddaramne sanaanis na baraari.
17 Yaa WAAQAYYO, ani hin qaaneffamin;
ani si waammadheeraatii;
warri hamoon garuu haa qaaneffaman;
cal’isaniis sii’ool keessa haa bu’an.
18 Afaan soba dubbatu,
kan of tuulummaa fi tuffiidhaan,
nama qajeelaatti kooree dubbatu haa duudu.

19 Gaarummaan kee kan ati warra si sodaataniif ol keesse,
kan ati fuula namootaa duratti
warra kooluu sitti galaniif kennite akkam guddaa dha!
20 Da’oo fuula keetiitiin,
waan namoonni isaanitti malatan jalaa isaan dhoksita;
dunkaana kee keessattis dubbiin tuttuquu jalaa isaan da’eessita.

21 WAAQAYYO haa eebbifamu;
inni yeroo ani magaalaa marfamte keessa turetti,
jaalala isaa dinqisiisaa sana na argisiiseeraatii.

22 Ani yeroon akka malee dhiphadhetti,
“Ani fuula kee duraa badeera!” jedheen ture.
Ati garuu yeroo ani gargaarsaaf sitti iyyadhetti,
kadhannaa koo naa dhageesse.

23 Qulqulloonni isaa hundinuu, WAAQAYYOON jaalladhaa!
WAAQAYYO amanamoota ni eega;
of tuultotaaf garuu akkuma hojii isaaniitti irra dabarsee deebisaaf.
24 Warri WAAQAYYOON abdattan hundinuu jabaadhaa;
garaan keessan hin sodaatin.

## Cubbuu Himachuu

# Faarfannaa 32

Faarfannaa Daawit. *Maskiil.*
1 Namni yakki isaa dhiifameef,
kan cubbuun isaas haguugameef,
eebbifamaa dha.
2 Namni WAAQAYYO cubbuu itti hin lakkoofne,
kan hafuura isaa keessas gowwoomsaan hin jirre,
eebbifamaa dha.

3 Yeroo ani cubbuu koo himachuu dhiisetti,
guyyaa guutuu aaduu kootiin,
lafeen koo ni bosose.
4 Harki kee halkanii fi guyyaa natti ulfaateeraatii;
jabinni koos akkuma waan ho’a bonaatiin ta’uutti xuuxame.
5 Ergasiis cubbuu koo sitti nan himadhe;
balleessaa koos si hin dhokfanne.
Anis, “Irra daddarba koo, WAAQAYYOOTTI nan himadha” nan jedhe;
atis yakka cubbuu kootii, naa dhiifteerta.

6 Kanaafuu namni amanamaan kam iyyuu,
yeroo ati itti argamtutti si haa kadhatu;
lolaan bishaan guddaas isa bira hin ga’u.
7 Ati iddoo ani itti dhokadhuu dha;
rakkina irraa na eegda;
faarfannaa mo’annaatiinis na marsita.

8 Ani karaa ati irra deemtu irratti sin qajeelcha; sin barsiisas;
ani ija koo jaalalaatiin sin ilaala; sin gorsa.
9 Isin akka farda yookaan gaangoo
hubannaa hin qabnee hin ta’inaa;
isaan yoo luugamaa fi fuuloodhaan qabaman malee
gara kee hin dhufan.
10 Dhiphinni namoota hamoo baay’ee dha;
araarri WAAQAYYOO garuu nama isa amanatu ni marsa.

11 Yaa qajeeltota, isin WAAQAYYOTTI gammadaa; ililchaas;
warri garaa qulqulluu qabdan hundinuu ililchaa.

## Waaqa Jajachuu

# Faarfannaa 33

1 Yaa qajeeltota, isin WAAQAYYOTTI gammadaa;
isa jajuun tolootaaf ni mala.
2 Kiraaraan WAAQAYYOON galateeffadhaa;
baganaa ribuu kudhan qabuun isaaf faarfadhaa.
3 Faarfannaa haaraa isaaf faarfadhaa; ribuu haalaan rukutaa;
sirriitti rukutaa; gammachuudhaanis ililchaa.

4 Dubbiin WAAQAYYOO qajeelaadhaatii;
inni waan hojjetu hundumaatti amanamaa dha.
5 WAAQAYYO qajeelummaa fi murtii qajeelaa jaallata;
laftis jaalala isaa kan hin geeddaramneen guutamteerti.

6 Samiiwwan dubbii WAAQAYYOOTIIN hojjetaman;
tuunni urjiiwwanii hundinuus
hafuura afaan isaatii ba'uun uumaman.
7 Inni bishaan galaanaa akka tuullaatti walitti qaba;
bishaan tuujubaas kuusaa keessa kaa'a.
8 Lafti hundi WAAQAYYOON haa sodaatu;
sabni addunyaa irra jiraatu hundinuus, guddisee isa haa sodaatu.
9 Inni dubbateeraatii, wanni inni dubbate ni ta'e;
inni ni ajaje; wanni inni ajajes ni raawwate.
10 WAAQAYYO marii sabootaa ni fashaleessa;
akka karoorri namootaa hojii irra hin oolles ni godha.
11 Karoorri WAAQAYYOO garuu bara baraan, yaadni garaa isaas
dhaloota hundumaa keessatti cimee ni dhaabata.

12 Sabni WAAQAYYO Waaqa isaaf ta'e,
namoonni inni akka dhaala ofii isaatti filate eebbifamoo dha.
13 WAAQAYYO samii irraa gad ni ilaala;
ilmaan namootaa hundas ni arga;
14 inni teessoo isaa irra taa'ee,
warra lafa irra jiraatan hunda gad ilaala;
15 inni garaa nama hundumaa uumu sun,
hojii isaanii hunda ni hubata.
16 Mootiin baay'ina loltoota isaatiin du'a hin oolu;
jagnis guddina humna isaatiin du'a jalaa hin ba'u.
17 Fardi mo'annaadhaaf abdii gatii hin qabnee dha;
guddinni humna isaas nama hin oolchu.
18 Garuu iji WAAQAYYOO warra isa sodaatan irra,
warra araara isaa abdatan irras jira;
19 inni lubbuu isaanii du'a jalaa ni baasa;
bara beelaas isaan ni jiraachisa.

20 Lubbuun keenya abdiidhaan WAAQAYYOON eeggatti;
innis gargaarsa keenyaa fi gaachana keenya.
21 Garaan keenya isatti ni gammadaatii;
nu maqaa isaa qulqulluu ni amanannaatii.
22 Yaa WAAQAYYO, akkuma nu abdii keenya
sirra kaa'annutti, araarri kee nurra haa bu'u.

## Waaqa Murtii Qajeelaa Jajachuu

# Faarfannaa 34

Faarfannaa Daawit. Innis fuula Abiimelek duratti maraatuu of fakkeesseef Abiimelek isa ariinaan yeroo achii deemetti faarfate.

1 Ani yeroo hunda WAAQAYYOON nan eebbisa;
galanni isaas yeroo hunda afaanii na hin bu'u.
2 Lubbuun koo WAAQAYYOON boonti;
cunqurfamtoonni dhaga'anii haa gammadan.
3 Na wajjin WAAQAYYOOF ulfina kennaa;
kottaa walii wajjin maqaa isaa ol kaafnaa.

4 WAAQAYYOON nan barbaaddadhe; innis deebii naa kenne;
sodaa koo hunda keessaas na baase.
5 Warri gara isaa ilaalan ni ifu;
fuulli isaaniis yoom iyyuu hin qaana'u.
6 Hiyyeessi kun ni iyye; WAAQAYYOS isa dhaga'e;
rakkina isaa hundumaa keessaas isa baase.
7 Ergamaan WAAQAYYOO naannoo warra Waaqa sodaatanii
ni qubata; isaan ni oolchas.

8 Akka WAAQAYYO gaarii ta'e mee mi'eeffadhaa ilaalaa;
namni isatti kooluu galu eebbifamaa dha.
9 Isin qulqulloonni isaa WAAQAYYOON sodaadhaa;
warri isa sodaatan homaa hin dhabaniitii.
10 Leenci saafelli iyyuu waa ni dhaba; ni beela'as;
namni WAAQAYYOON barbaaddatu garuu
waan gaarii tokko illee hin dhabu.

11 Yaa ijoollee ko, kottaa na dhaga'aa;
anis WAAQAYYOON sodaachuu isinan barsiisa.
12 Namni jireenya jaallatu, kan bara gaarii arguudhaafis
bara baay'ee hawwu eenyu?
13 Arraba kee waan hamaa irraa,
afaan kees soba dubbachuu irraa eeggadhu.
14 Hammina irraa deebi'i; gaarii hojjedhu;
nagaa barbaadi; duukaa bu'is.

15 Iji WAAQAYYOO qajeeltota irra jira;
gurri isaas iyya isaaniitiif banamaa dha;
16 yaadannoo isaanii lafa irraa balleessuudhaaf,
fuulli WAAQAYYOO warra hamaa hojjetanitti ni hammaata.

17 Qajeeltonni gargaarsaaf iyyatu; WAAQAYYOS isaan dhaga'a.
Rakkina isaanii hunda keessaas isaan baasa.
18 WAAQAYYO warra garaan isaanii cabetti dhi'oo dha;
warra abdii kutatanis ni fayyisa.

19 Rakkinni nama qajeelaa baay'ee dha;
WAAQAYYO garuu hunda isaa jalaa isa baasa;
20 lafee isaa hunda ni eega;
isaan keessaas tokko illee hin cabu.

21 Hamoota hamminatu ajjeesa;

warra nama qajeelaa jibbanitti ni murteeffama.
22 WAAQAYYO lubbuu tajaajiltoota isaa ni fura;
warra isatti kooluu galan keessaa tokkotti illee hin murteeffamu.

## Kadhannaa Nama Dhiphatee

# Faarfannaa 35

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, warra anaan mormaniin mormi;
warra na lolanis loli.
2 Gaachanaa fi mi'a lolaa qabadhu;
na gargaaruudhaafis ka'i.
3 Warra na ari'anitti
eeboo fi bodee luqqifadhu.
Lubbuu kootiinis,
"Fayyinni kee ana" jedhi.

4 Warri lubbuu koo barbaadan,
haa qaana'an; haa salphatanis;
warri na balleessuuf mari'atanis,
abdii kutatanii duubatti haa deebi'an.
5 Akka habaqii qilleensaan fudhatamee haa ta'an;
ergamaan WAAQAYYOOS isaan haa ari'u.
6 Karaan isaanii dukkanaa'aa fi mucucaataa haa ta'u;
ergamaan WAAQAYYOOS isaan haa ari'u.

7 Isaan sababii malee kiyyoo isaanii dhoksanii
na dura kaa'aniiruutii;
sababii malees boolla naa qotaniiru;
8 utuu inni hin beekin badiisni isatti haa dhufu;
kiyyoon inni dhokse sunis isuma haa qabu;
boolluma qote sanattis haa kufu.
9 Yoos lubbuun ko, WAAQAYYOTTI gammaddi;
fayyisuu isaattis ni ililchiti.
10 Lafeen koo hundi akkana siin jedha:
"Yaa WAAQAYYO, kan akka keetii eenyu?
Ati dadhabdoota warra isaan caalaa jabaatan jalaa baafta;
hiyyeeyyii fi rakkattoota illee saamtota jalaa baafta."

11 Dhuga baatonni sobaa natti ka'an;
waan ani waa'ee isaa hin beeknes na gaafatu.
12 Isaan qooda waan gaarii waan hamaa naa deebisu;
lubbuu koos kophaatti hambisu.
13 Ani garuu yeroo isaan dhibamanitti,
wayyaa gaddaa nan uffadhe;
lubbuu koos soomaan nan miidhe.
Yeroo kadhannaan koo deebii malee hafettis
14 ani akkuma waan michuu kootiif yookaan obboleessa kootiif gadduutti,
gaddaan asii fi achi deddeebi'e.
Akkuma waan haadha kootiif boo'uuttis,
gaddaan mataa koo nan buuse.
15 Isaan garuu yeroo ani gufadhetti gammadanii walitti qabaman;
utuu ani hin beekin na marsan;

utuu wal irraa hin kutinis na cicciratan.
16 Isaan akkuma warra Waaqatti hin bulleetti hamminaan natti qoosan;
ilkaan isaanii illee natti qaratan.
17 Yaa Gooftaa, ati hamma yoomiitti cal'istee ilaalta?
Lubbuu koo badiisa isaan fidan jalaa,
jireenya koos leenca jalaa baasi.
18 Ani wal ga'ii guddaa keessatti sin galateeffadha;
tuuta guddaa keessatti sin jajadha.

19 Warri akkasumaan diina natti ta'an natti hin gammadin;
warri sababii malee na jibban sunis ija natti hin qisin.
20 Isaan nagaa hin dubbatan;
warra qabbanaan biyya keessa jiraatanittis,
mala sobaa malatu.
21 Isaanis, "Baga! Baga! Ijuma keenyaan isa argine"
jedhanii afaan natti banatu.

22 Yaa Waaqayyo, ati waan kana argiteerta; hin cal'isin.
Yaa gooftaa, narraa hin fagaatin.
23 Yaa Waaqa koo fi Gooftaa ko, ati mirga kootiif,
dhimma kootiifis dammaqi; ka'i!
24 Yaa Waaqayyo Waaqa ko,
akkuma qajeelummaa keetiitti naa murteessi;
akka isaan natti gammadanis hin godhin.
25 Akka isaan, "Baga! Akkuma nu barbaanne ta'eera!" jedhan,
yookaan akka isaan, "Nu isa liqimsineerra" jedhan hin godhin.

26 Warri dhiphina kootti gammadan hundinuu
haa qaana'an; haa burjaaja'anis;
warri natti kooran hundinuus,
qaanii fi salphina haa uffatan.
27 Warri qajeelumma koo jaallatan,
sagalee guddaadhaan haa ililchan; haa gammadanis.
Isaan yeroo hunda,
"Waaqayyo inni nagaa garbicha isaatti gammadu
guddaa dha" haa jedhan.

28 Arrabni koo qajeelummaa kee,
guyyaa guutuus galata kee odeessa.

## Jal'ina Namaatii Fi Gaarummaa Waaqayyoo

# Faarfannaa 36

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit Garbicha Waaqayyoo.
1 Ani waa'ee cubbamootaa,
ergaa Waaqa bira dhufe garaa koo keessaa qaba:
Waaqa sodaachuun ija isaanii dura hin jiru.

2 Akka cubbuun isaanii ifatti ba'ee hin jibbamneefis,
isaan ijuma ofii isaanii duratti akka malee of saadu.
3 Dubbiin afaan isaanii jal'inaa fi gowwoomsaa dha;
isaan ogummaadhaan hojjechuu fi waan gaarii gochuu dhiisaniiru.

4 Siree isaanii irratti iyyuu isaan hammina xaxu;
karaa cubbuutti of kennu; waan hamaas hin lagatan.

5 Yaa WAAQAYYO, araarri kee samiiwwan bira,
amanamummaan kees duumessa bira ga'a.
6 Qajeelummaan kee akka tulluuwwan gurguddaa ti;
murtiin kees akkuma tuujuba guddaa ti.
Yaa WAAQAYYO, ati namaa fi bineensa ni jiraachifta.
7 Yaa Waaqi, jaalalli kee inni hin geeddaramne sun akkam ulfina qabeessa!
Ilmaan namootaa, gaaddisa qoochoo keetii jalatti kooluu galu.
8 Isaan badhaadhummaa mana keetii nyaatanii quufu;
atis laga gammachuu keetii irraa isaan obaafta.
9 Burqaan jireenyaa si bira jiraatii;
nu ifa keetiin ifa argina.

10 Jaalala kee warra si beekaniif,
qajeelummaa kees gara toleeyyiidhaaf ittuma fufi.
11 Miilli of tuultotaa natti hin dhufin;
harki hamootaas dhiibee na hin fageessin.
12 Warri waan hamaa hojjetan kunoo kufanii diriiraniiru;
gad darbatamaniiru; ka'uus hin danda'an!

## Qooda Nama Qajeelaa Fi Hamaa

# Faarfannaa 37

Faarfannaa Daawit.
1 Ati sababii namoota hamootiif jettee hin aarin
yookaan warra jal'ina hojjetanitti hin hinaafin.
2 Isaan akkuma margaa dafanii coollagu;
akkuma biqiltuu misee dafanii gogu.

3 WAAQAYYOON amanadhu; waan gaariis hojjedhu;
biyyattii keessa jiraadhu; nagaas qabaadhu.
4 WAAQAYYOTTI gammadi;
innis hawwii garaa keetii siif guuta.

5 Karaa kee WAAQAYYOTTI kennadhu;
isa amanadhu; inni siif milkeessa.
6 Inni qajeelummaa kee akka aduu ganamaatti,
murtii kee immoo akka aduu saafaatti ibsa.

7 WAAQAYYO duratti cal'isi;
obsaanis isa eeggadhu;
nama karaan isaa qajeeleefitti,
kan hammina hojjetuttis hin hinaafin.

8 Aarii irraa of eegi; dheekkamsa irraas deebi'i;
hin aarin; aariin hammina qofatti nama geessaatii.
9 Namoonni hamoon ni balleeffamuutii;
warri WAAQAYYOON abdatan garuu lafa dhaalu.

10 Namoonni hamoon yeroo xinnoodhaaf malee si'achi hin jiraatan;

yoo ati isaan barbaadde illee hin argaman.
11 Garraamonni garuu lafa ni dhaalu;
nagaa guddaadhaanis ni gammadu.

12 Namoonni hamoon nama qajeelaatti mari'atu;
ilkaan isaaniis isatti qaratu;
13 Gooftaan hamootatti ni kolfa;
inni akka guyyaan isaanii dhi'aate ni beekaatii.

14 Namoonni hamoon hiyyeeyyii fi
rakkattoota lafaan dha'uudhaaf,
warra karaan isaanii qajeelaa ta'e immoo gorra'uudhaaf,
goraadee isaanii luqqifatu; iddaa isaaniis ni dabsatu.
15 Goraadeen isaanii garuu garaadhuma isaanii waraana;
iddaan isaaniis ni caccaba.

16 Badhaadhummaa hamoonni baay'een qaban irra,
waan xinnoo namni qajeelaan qabu wayya;
17 humni hamootaa ni cabaatii;
WAAQAYYO garuu qajeeltota jabeessee ni dhaaba.

18 WAAQAYYO bara tolootaa ni beeka;
dhaalli isaaniis bara baraan jiraata.
19 Isaan bara hamaa keessa hin qaana'an;
bara beelaa keessas ni quufu.

20 Namoonni hamoon garuu ni barbadaa'u;
diinonni WAAQAYYOOS akkuma miidhagina daraaraa dirree ti;
isaan ni badu; akkuma aaraa ni badu.

21 Namoonni hamoon ni liqeeffatu;
garuu deebisanii of irraa hin baasan;
qajeeltonni garuu arjummaadhaan kennu;
22 warri WAAQAYYO eebbisu lafa ni dhaalu;
warri inni abaaru garuu ni balleeffamu.

23 Adeemsi nama WAAQAYYO biraa ajajama;
inni karaa namicha sanaatti ni gammada.
24 Inni yoo gufate illee lafa hin ga'u;
WAAQAYYO harka isaatiin qabee isa dhaabaatii.

25 Ani dargaggeessan ture; amma immoo dulloomeera;
garuu qajeeltonni gatamuu isaanii
yookaan ijoolleen isaaniis buddeena kadhachuu isaanii hin argine.
26 Qajeeltonni yeroo hundumaa ni arjoomu; ni liqeessus;
ijoolleen isaaniis ni eebbifamu.

27 Waan hamaa irraa deebi'iitii waan gaarii hojjedhu;
yoos ati bara baraan ni jiraatta.
28 WAAQAYYO murtii qajeelaa jaallataatii;
warra isaaf amanamanis hin gatu.

Isaanis bara baraan ni eegamu;
sanyiin hamootaa garuu ni balleeffama.
29 Qajeeltonni lafa ni dhaalu;
bara baraanis ishee irra ni jiraatu.

30 Afaan nama qajeelaa ogummaa dubbata;
arrabni isaas murtii qajeelaa labsa.
31 Seerri Waaqa isaa garaa isaa keessa jira;
miilli isaas hin mucucaatu.

32 Namoonni hamoon qajeeltota gaadu;
isaan ajjeesuus ni barbaadu;
33 WAAQAYYO garuu harka isaaniitti jara hin dhiisu
yookaan yommuu isaan murtiitti dhi'eeffamanitti,
akka isaanitti murteeffamu hin eeyyamu.

34 WAAQAYYOON eeggadhu; karaa isaas eegi.
Inni akka ati lafa dhaaltuuf ulfina siif kenna;
atis badiisa hamootaa ni argita.

35 Nama hamaa fi gara jabeessa,
isaa akkuma muka iddoon isaa itti tolee jiru nan arge.
36 Ergasiis achiin nan darbe; inni garuu achi hin turre;
ani cimsee isa nan barbaade; inni garuu hin argamne.

37 Nama mudaa hin qabne yaadatti qabadhu; tolootas ilaali;
sanyiin nama nagaa hin baduutii.
38 Cubbamoonni hundinuu garuu ni barbadeeffamu;
galgalli nama hamaas hin tolu.

39 Fayyinni qajeeltotaa WAAQAYYO biraa dhufa;
inni yeroo rakkinaatti da'oo isaanii ti.
40 WAAQAYYO isaan gargaara; isaan oolchas;
harka namoota hamoo jalaa isaan baasa;
isaan baraaras; isaan isatti kooluu galaniiruutii.

## Kadhannaa yeroo dhiphinaa

# Faarfannaa 38

Faarfannaa Daawit. Yaadannoodhaaf.
1 Yaa WAAQAYYO, aarii keetiin na hin ifatin
yookaan dheekkamsa keetiin na hin adabin.
2 Xiyyooliin kee na waraananiiru;
harki kees akka malee natti ulfaateera.
3 Sababii dheekkamsa keetiitiif dhagni koo fayyaa dhabeera;
sababii cubbuu kootiifis lafeen koo nagaa dhabeera.
4 Cubbuun koo na liqimseeraatii;
akkuma ba'aa baatamuu hin danda'amne tokkoottis natti ulfaateera.

5 Sababii gowwummaa kootiitiif,
madaan koo malaa naqate; ni ajaa'es.
6 Ani gad nan qabame; gadis nan cabe;

guyyaa guutuus gaddaan oola.
7 Dugdi koo na boba'a;
dhagni koos fayyaa hin qabu.
8 Ani laafeera; akka malees bututeera;
garaan koo dhiphatee ani aadaan jira.

9 Yaa Gooftaa, hawwiin koo hundinuu fuula kee duratti beekamaa dha;
argansuun koo si duraa hin dhokatu.
10 Lapheen koo ni dha'atti; jilbis na laafeera;
ifni ija kootiis badeera.
11 Michoonni koo fi miiltoon koo sababii madaa kootiitiif narraa hiiqan;
firoonni koos narraa fagaatanii dhadhaabatu.
12 Warri lubbuu koo galaafachuu barbaadan kiyyoo naa kaa'aniiru;
warri na miidhuu barbaadanis waa'ee badiisa kootii dubbatu;
guyyaa guutuus hammina natti yaadu.

13 Ani garuu akkuma duudaa dhaga'uu hin dandeenyee,
akkuma arrab-didaa dubbachuu hin dandeenyeetii.
14 Ani akka nama dhaga'uu hin dandeenyee,
akkuma nama afaan isaa deebii kennuu hin dandeenyees ta'eera.
15 Yaa WAAQAYYO, ani sin eeggadha;
yaa Waaqayyo Gooftaa ko, ati deebii naa kennita.
16 Ani, "Akka diinonni koo natti gammadan
yookaan akka isaan yeroo miilli koo mucucaatutti natti of jajan
hin eeyyamin" jedheeraatii.

17 Ani kufuu ga'eeraatii;
dhukkubbiin koos takkumaa na hin dhiifne.
18 Ani balleessaa koo nan himadha;
sababii cubbuu kootiitiifis nan gadda.
19 Warri akkasumaan diinota koo ta'an jajjaboo dha;
warri sababii malee na jibbanis hedduu dha.
20 Warri qooda waan gaarii waan hamaa naa deebisan diinota koo ti;
ani waan gaarii duukaa nan bu'aatii.

21 Yaa WAAQAYYO, ati na hin gatin;
yaa Waaqa ko, narraa hin fagaatin.
22 Yaa Gooftaa, yaa fayyisaa ko,
na gargaaruudhaaf ariifadhu!

## Fuula Waaqaa Duratti Namni Xinnaa Dha

# Faarfannaa 39

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeduutuuniif. Faarfannaa Daawit.
1 Ani akkana nan jedhe; "Ani karaa koo nan eeggadha;
arraba koos cubbuu irraa nan ittisa;
hamma namni hamaan na bira jiruttis,
afaan kootti luugama nan kaa'adha."
2 Ani cal'isee akkuma duudaa nan ta'e;
waan gaarii dubbachuu irraas of nan qusadhe;
dhiphinni koo garuu ittuma caale;
3 onneen koo na keessatti bulluqaa deeme;

yeroo ani irra deddeebi’ee yaadettis ibiddi sun ni boba’e;
anis arraba kootiin akkana jedheen dubbadhe:

4 Yaa WAAQAYYO, ati dhuma jireenya kootii na argisiisi;
dheerina umurii kootiis na barsiisi;
jireenyi koo akkam dafee akka darbus na beeksisi.
5 Kunoo, ati bara koo taakkuu tokkittii gooteerta;
umuriin koos fuula kee duratti homaattuu hin hedamu;
jireenyi nama hundumaas akkuma qilleensa shuf jedhee darbuu ti.
6 Dhuguma iyyuu namni akkuma gaaddidduu deddeebi’a;
dhugumaan inni akkasumaan goolama;
namni qabeenya ni kuusa; garuu eenyuuf akka walitti qabu hin beeku.

7 “Egaa amma yaa Gooftaa, ani maalin eeggadha?
Abdiin koo suma irra jira.
8 Dogoggora koo hunda irraa na oolchi;
nama gowwoonni itti kolfan na hin godhin.
9 Ani duudaa dha; afaan koos hin saaqqadhu;
kan waan kana godhe sumaatii.
10 Ani rukuttaa harka keetiitiin dhumeeraatii;
dha’icha kee narraa fuudhi.
11 Ati sababii cubbuu isaaniitiif namoota ifatta; ni adabdas;
akkuma biliis qabeenya isaanii ni balleessita;
dhugumaan namni hundinuu qilleensuma shuf jedhee darbuu dha.

12 “Yaa WAAQAYYO, kadhannaa koo naa dhaga’i;
iyya ani gargaarsa barbaachaaf iyyus dhaggeeffadhu;
boo’icha koos cal’istee hin ilaalin.
Ani akka alagaatti si bira nan jiraadhaatii;
akkuma abbootii koo hundumaattis ani nama biyya ormaa ti.
13 Utuun godaanee lafa irraa hin dhabamin dura
akkan deebi’ee gammaduuf, ija kee narraa deebifadhu.”

## Faarfannaa Galataatii fi Kadhannaa

# Faarfannaa 40

*40:13-17 kwf – Far 70:1-5*

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Ani obsaan WAAQAYYOON nan eeggadhe;
innis gara kootti garagalee iyya koo naa dhaga’e.
2 Inni boolla sodaachisaa keessaa,
dhoqqee nama liqimsu keessaas na baase;
miilla koo kattaa irra dhaabe;
ejjeta koos naa jabeesse.
3 Innis faarfannaa haaraa,
faarfannaa galataas afaan koo keessa
Waaqa keenyaaf kaa’e.
Namoonni baay’een arganii WAAQAYYO sodaatu;
isas ni amanatu.

4 Namni WAAQAYYOON abdatu,
kan gara of tuultotaa hin ilaalle,
namni warra karaa irraa jal’atanii

waaqota sobaa duukaa bu'initti hin gara galle
eebbifamaa dha.
5 Yaa WAAQAYYO Waaqa ko,
dinqiin ati hojjette baay'ee dha;
waan ati nuuf yaadde,
namni tokko tokkoon sitti himuu danda'u
tokko iyyuu hin jiru;
yoo ani waa'ee isaanii labsee dubbadhe illee,
baay'inni isaanii hamma hin qabu.

6 Ati aarsaa fi kennaa hin feene;
gurra koo garuu naa banteerta;
aarsaa gubamuu fi aarsaa cubbuu ati hin barbaanne.
7 Yeroo sana ani akkana nan jedhe; "Ani kunoo ti; ani dhufeera;
waa'een koo kitaaba maramaa keessatti barreeffameera.
8 Yaa Waaqa ko, ani fedhii kee raawwachuutti nan gammada;
seerri kee garaa koo keessa jira."

9 Ani yaa'ii guddaa keessatti qajeelummaa nan labsa;
Yaa WAAQAYYO, akkuma ati beektu,
ani afaan koo hin qabadhu.
10 Ani qajeelummaa kee garaa koo keessa hin dhoksu;
waa'ee amanamummaa keetiitii fi waa'ee fayyisuu keetii nan odeessa;
jaalala keetii fi dhugaa kees
yaa'ii guddaa duraa hin dhoksu.

11 Yaa WAAQAYYO araara kee na hin dhowwatin;
jaalalli keetii fi dhugaan kee yeroo hunda ana haa eegan.
12 Rakkinni hamma hin qabne na marseeraatii;
cubbuun koos na liqimseera; arguus dadhabeera;
cubbuun koo rifeensa mataa koo caalaa baay'ata;
onneen koos na keessatti laafteerti.

13 Yaa WAAQAYYO, na fayyisuutti gammadi;
yaa WAAQAYYO, na gargaaruudhaaf dafii kottu.
14 Warri lubbuu koo galaafachuu barbaadan hundinuu,
haa qaana'an; haa burjaaja'anis.
Warri badii koo hawwan hundi,
qaana'anii duubatti haa deebi'an.
15 Warri, "Baga! Baga!" anaan jedhan,
qaanii isaaniitiin haa rifatan.
16 Warri si barbaadan hundinuu garuu
sitti gammadanii haa ililchan.
Warri fayyisuu kee jaallatan yeroo hunda,
"WAAQAYYO guddaa dha!" haa jedhan.

17 Ani garuu hiyyeessaa fi rakkataa dha;
ta'us Gooftaan naaf yaada.
Ati gargaarsa koo fi fayyisaa koo ti;
yaa Waaqa ko, hin turin.

## Kadhannaa Nama Dhukkubsatee

# Faarfannaa 41

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Namni hiyyeessaaf yaadu eebbifamaa dha;
guyyaa rakkinaatti WAAQAYYO isa ni oolcha.
2 WAAQAYYO isa ni eega; bara jireenya isaas ni dheeressa;
lafa irratti isa eebbisa;
hawwii diinota isaattis dabarsee isa hin kennu.
3 WAAQAYYO siree inni dhukkubsatee irra ciisu irratti isa kunuunsa;
fayyisees siree dhukkubaa irraa isa ni kaasa.

4 Anis, "Yaa WAAQAYYO na maari;
ani cubbuu sitti hojjedheeraatii na fayyisi" nan jedhe.
5 Diinonni koo hamminaan, "Inni yoom du'ee maqaan isaa
lafa irraa bada?" jedhanii waa'ee koo dubbatu.
6 Namni tokko yeroo na gaafachuu dhufutti,
utuma garaa isaatti hammina kuufatee qabuu, sobee dubbata;
gad ba'ees iddoo hundumatti odeessa.

7 Warri na jibban hundinuu waa'ee koo walitti hasaasu;
waan akka malee hamaa ta'es natti mari'atu.
8 Isaanis, "Dhukkubni hamaan isa qabateera;
inni si'achi iddoo ciisu sanaa hin ka'u" jedhu.
9 Michuun koo inni natti dhi'aatu,
inni ani amanadhe,
inni buddeena koo nyaate
koomee isaa natti ol fudhate.

10 Ati garuu yaa WAAQAYYO na baasi;
akka ani haaloo baafadhuufis ol na kaasi.
11 Akka ati natti gammaddu ani beeka;
diinni koo narra hin aanuutii.
12 Ati sababii amanamummaa kootiitiif utubdee na qabda;
baruma baraanis fuula kee dura na dhaabda.

13 WAAQAYYO Waaqni Israa'el,
bara baraa hamma bara baraatti haa eebbifamu.
Ameen; Ameen.

# Kitaaba Lammaffaa

# 42

*Faarfannaa 42–72*

## Waaqayyon Dheebochuu

Dura bu'aa faarfattootaatiif. *Maskiilii* Ilmaan Qooraahi.
1 Akkuma gadamsi bishaan yaa'utti gaggabu sana,
yaa Waaqa ko, lubbuun koo sitti gaggabdi.
2 Lubbuun koo Waaqayyoon Waaqa jiraataa dheebotti.
Ani yoomin dhaqee fuula Waaqaa arga?
3 Imimmaan koo halkanii guyyaa soora naa ta'eera;
namoonni guyyaa guutuu "Waaqni kee eessa jira?" anaan jedhuutii.
4 Ani yommuun waan kana yaadadhutti,
lubbuu koo of keessatti nan dhangalaasa:

ilillee fi faarfannaa galataatiin
tuuta ayyaana ayyaaneffatu tokko,
hiriiraan gara mana Waaqaatti geggeessaa
tuuticha wajjin akkamitti akka ani deemaa ture yaadadha.

5 Yaa lubbuu ko, ati maaliif gaddita?
Na keessattis maaliif raafamta?
Abdii kee Waaqa irra keeyyadhu;
ani amma iyyuu isa nan jajadha.
Fayyisaa koo fi Waaqa koo nan jajadha.

6 Lubbuun koo na keessatti gadditeerti;
kanaafuu ani biyya Yordaanos irraa,
fiixee Hermoonii fi
Gaara Miizaarii irraa si yaadadha.
7 Huursaa fincaa'aa keetiitiin,
tuujubni tuujuba waama;
dambalii fi dha'aan kee hundinuu, narra yaa'an.

8 WAAQAYYO guyyaadhaan jaalala isaa kan hin geeddaramne ni ajaja;
halkan immoo faarfannaan isaa na wajjin jira;
kunis kadhannaa ani Waaqa jireenya kootii kadhadhuu dha.

9 Anis Waaqa Kattaa kootiin akkana nan jedha;
"Ati maaliif na dagatte?
Maaliif ani diinaan cunqurfamee gaddaan jiraadha?"
10 Amajaajonni koo guyyaa guutuu,
"Waaqni kee eessa jira?" jedhanii natti qoosudhaan,
akkuma goraadee lafee koo keessaatti na dhiphisu.

11 Yaa lubbuu ko, ati maaliif gaddita?
Na keessattis maaliif raafamta?
Abdii kee Waaqa irra kaa'adhu;
ani amma iyyuu isa nan galateeffadha;
Fayyisaa koo fi Waaqa koo nan jajadha.

## Tumsaa fi Furama Barbaachaaf Kadhachuu

# Faarfannaa 43

1 Yaa Waaqi, naa murteessi;
saba hin amanametti dubbii koo naa falmi;
gowwoomsitootaa fi jal'oota jalaas na baasi.
2 Ati Waaqa jabina kootii ti.
Maaliif na gatte?
Ani maaliifin diinaan cunqurfamee
gaddaan jiraadha?
3 Ifa keetii fi dhugaa kee ergi;
isaan na haa qajeelchan;
gara tulluu kee qulqulluutti,
gara iddoo ati jiraattu sanaatti ana haa fiddan.
4 Yoos ani gara iddoo aarsaa Waaqaa,
gara Waaqa gammachuu fi ilillee koo nan dhaqa.

Yaa Waaqayyo, Waaqa ko,
ani baganaadhaan sin galateeffadha.

5 Yaa lubbuu ko, ati maaliif gaddita?
Na keessattis maaliif raafamta?
Abdii kee Waaqa irra kaa'adhu;
ani amma iyyuu isa nan galateeffadha;
Fayyisaa koo fi Waaqa koo nan jajadha.

## Faaruu Boo'ichaa

# Faarfannaa 44

Dura bu'aa faarfattootaatiif. *Maskiilii* Ilmaan Qooraahi.
1 Yaa Waaqi, waan ati bara durii,
jabana isaanii keessa hojjette sana,
abbootiin keenya nutti himaniiru;
nuus gurra keenyaan dhageenyeerra.
2 Ati harka keetiin saboota ariitee baafte;
abbootii keenya immoo ni dhaabde;
namoota ni balleessite;
abbootii keenya garuu bilisa baafte.
3 Harka kee mirgaatiin, irree keetii fi ifa fuula keetiitiin dhaalan malee
isaan goraadee isaaniitiin lafa sana hin dhaalle;
yookaan irreen isaanii mo'annoo isaaniif hin fidne;
ati isaan jaallatteertaatii.

4 Ati Mootii koo fi Waaqa koo
kan Yaaqoobiif mo'icha ajajjuu dha.
5 Nu siin diinota keenya duubatti deebifna;
maqaa keetiinis amajaajota keenya gad dhidhiinna.
6 Ani iddaa koo hin amanadhu;
goraadeen koos mo'annaa naa hin fidu;
7 ati garuu diinota keenya jalaa nu oolchita;
warra nu jibban immoo ni qaanessita.
8 Nu yeroo hundumaa Waaqaan dhaadanna;
maqaa kees bara baraan ni galateeffanna.

9 Amma garuu ati nu gatteerta; gadis nu deebifteerta;
ati loltoota keenya wajjin hin baane.
10 Akka nu diinota keenya baqannu nu gooteerta;
warri nu jibbanis nu saamaniiru.
11 Ati akka hoolota qalamuuf qopheeffamanii nu gooteerta;
ormoota keessas nu bittinneessiteerta.
12 Saba kee gatii xinnaatti gurgurteerta;
gurgurtaa isaanii irraas bu'aa hin arganne.

13 Ollaa keenya duratti nama kolfaa,
warra naannoo keenyaa birattis
waan qoosaatii fi nama tuffii nu gooteerta.
14 Ormoota keessatti waan mammaaksaa nu goote;
namoonnis mataa nutti raasan.
15 Salphinni koo guyyaa guutuu fuula koo dura jira;

fuulli koos qaaniidhaan haguugameera.
16 Kunis sababii dubbii warra na tuffataniitii fi warra na arrabsaniitiif,
sababii diinaatii fi sababii nama haaloo baafatuutiif ta'e.

17 Kun hundi nutti dhufeera;
ta'us nu si hin daganne;
yookaan kakuu kee keessatti amanamummaa hin dhabne.
18 Garaan keenya dugda duubatti hin deebine;
tarkaanfiin keenyas karaa kee irraa hin jal'anne.
19 Ati garuu iddoo waangoonni jiraatanitti nu caccabsite;
dukkana hamaadhaan nu haguugde.

20 Utuu nu maqaa Waaqa keenyaa irraanfannee,
yookaan utuu harka keenya gara waaqa ormaatti bal'ifannee jiraannee,
21 silaa Waaqni waan kana bira hin ga'u turee?
Inni icciitii garaa namaa beekaatii.
22 Nu siif jennee guyyaa guutuu ni ajjeefamna;
akka hoolota qalamuuf jiraniittis lakkaa'amneerra.

23 Yaa Gooftaa dammaqi! Ati maaliif rafta?
Ka'i! Bara baraanis nu hin gatin.
24 Ati maaliif fuula kee dhokfatta?
Maaliifis dhiphinaa fi hacuucamuu keenya irraanfatta?

25 Lubbuun keenya biyyootti dabalamteertii;
garaan keenyas lafatti maxxaneera.
26 Ka'iitii nu gargaar; sababii jaalala kee
kan hin geeddaramneetiifis nu furi.

## Faarfannaa Cidha Mootii

# Faarfannaa 45

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo ilmaan Qooraahi kan "Daraaraa" jedhamu. *Maskiil.* Faarfannaa cidhaa.
1 Yommuu ani mootiidhaaf faarfadhutti,
yaadni gaariin garaa koo guutee irra dhangala'a;
arrabni koos akkuma biirii barreessaa ogeessa tokkoo ti.

2 Ati nama hundumaa caalaa miidhagaa dha;
hidhii kee irra surraatu dhangala'a;
kanaafuu Waaqni bara baraan si eebbiseera.
3 Yaa gooticha, goraadee kee luqqeettuutti hidhadhu;
ulfinaa fi surraa uffadhu.
4 Sababii dubbii dhugaatiif, gad of qabiisaa fi qajeelummaatiif,
miidhagina keetiin mo'annaadhaan fuula duratti gulufi;
harki kee mirgaas hojii sodaachisaa haa hojjetu.
5 Xiyyawwan kee qara qabeeyyiin sun onnee diinota mootii haa waraanan;
saboonnis miilla kee jalatti haa jijjiganii.
6 Yaa Waaqayyo, teessoon kee bara baraa hamma bara baraatti ni jiraata;
bokkuun qajeelummaas bokkuu mootummaa keetii ni ta'a.
7 Ati qajeelummaa jaallatta; jal'ina immoo ni jibbita;
kanaafuu Waaqayyo, Waaqni kee hiriyoota kee caalaatti,

zayitiidhaan gammachuu si dibeera.
8 Uffanni kee hundinuu qumbiidhaan,
argeessaa fi qundhiidhaan ni urgaa'a;
masaraawwan ilka arbaatiin miidhagfaman keessattis
muuziiqaan mi'a ribuu si gammachiisa.
9 Intallan moototaa dubartoota kee warra kabajamoo keessa jiru;
mootittiinis warqee Oofiiriitiin miidhagfamtee
karaa harka mirga keetii dhaabatti.

10 Yaa intalaa dhaga'i; hubadhu; gurra kees as qabi;
saba keetii fi mana abbaa keetii irraanfadhu.
11 Mootiin miidhagina kee hawwa;
waan inni gooftaa kee ta'eef isa kabaji.
12 Intalli Xiiroos kennaa fiddee dhufti;
sooreyyiinis garaa si laafifachuu barbaadu.

13 Intalli mootii ulfina guddaadhaan diinqa ishee jirti;
uffanni ishees warqeedhaan dha'ame.
14 Isheenis uffata halluu garaa garaa qabu uffattee
gara mootiitti geeffamti;
durboonni waa'elli ishees ishee duukaa bu'anii
gara keetti fidamu.
15 Isaanis gammachuu fi ililleedhaan ol galfamu;
masaraa mootichaas ni seenu.

16 Ilmaan kee iddoo abbootii keetii bu'an;
atis lafa hunda irratti isaan ni moosifta.
17 Ani akka maqaan kee dhaloota hunda keessatti yaadatamu nan godha;
kanaafuu saboonni bara baraa hamma bara baraatti si jajatu.

## Waaqayyo nu wajjin jira

# Faarfannaa 46

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi. Haala *Alaamootiitiin*.
1 Waaqni da'oo fi jabina keenya;
inni gargaarsa yeroo hunda rakkina keessatti nu wajjin jiruu dha.
2 Kanaafuu yoo lafti raafamtee
tulluuwwanis garaa galaanaa keessa gadi bu'an iyyuu nu hin sodaannu.
3 Utuu bishaan isaas huursee hoomachaa'ee
tulluuwwanis raafama isaatiin socho'an iyyuu nu hin sodaannu.

4 Lagni yaa'aan isaa magaalaa Waaqaa gammachiisu
kan iddoo qulqulluu Waaqni Waan Hundaa Olii jiraatuuf
gammachuu kennu tokko jira.
5 Waaqni magaalattii keessa jira; isheenis hin raafamtu;
ganama barii Waaqni ishee gargaara.
6 Saboonni ni raafaman; mootummoonnis ni kufan;
inni sagalee isaa dhageessise; laftis ni baqxe.

7 Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u nu wajjin jira;
Waaqni Yaaqoob da'oo keenya.

8 Kottaa, hojii WAAQAYYOO ilaalaa;
badiisa inni lafa irratti fides argaa.
9 Inni hamma handaara lafaatti waraana ni balleessa;
iddaa ni cabsa; eeboo ni burkuteessa;
gaachanas ibiddaan guba.
10 "Cal'isaa; akka ani Waaqa ta'es beekaa;
ani saboota gidduutti ol ol nan jedha;
lafa irrattis ol ol nan jedha."

11 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u nu wajjin jira;
Waaqni Yaaqoob da'oo keenya.

## Waaqayyo Mootii Addunyaa ti

# Faarfannaa 47

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.
1 Isin saboonni hundinuu harka keessan rukutaa;
sagalee ol fudhadhaatii gammachuudhaan Waaqaaf ililchaa.
2 WAAQAYYO Waaqa Waan Hundaa Olii,
Mootichi guddaan lafa hundumaa, sodaachisaadhaatii!
3 Inni saboota nu jala,
namootas miilla keenya jala galcheera.
4 Innis nu warra Yaaqoob isa inni jaallate sanaaf ulfina taaneef,
dhaala keenya nuu fileera.

5 Waaqni ililleedhaan, WAAQAYYO sagalee
malakataatiin ol ba'e.
6 Faarfannaa galataa Waaqaaf faarfadhaa;
faarfannaa galataa faarfadhaa;
faarfannaa galataa Mootii keenyaaf faarfadhaa;
faarfannaa galataa faarfadhaa.

7 Waaqni Mootii lafa hundaa ti;
faarfannaa galataa hubannaadhaan faarfadhaa.
8 Waaqni saboota irratti Mootii dha;
Waaqni teessoo isaa qulqulluu irra taa'eera.
9 Qondaaltonni sabootaa,
akkuma saba Waaqa Abrahaamitti walitti qabamu;
mootonni lafa irraa kan Waaqaatii;
innis guddisee ol ol jedheera.

## Xiyoon Tulluu Waaqayyoo

# Faarfannaa 48

Weedduu. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.
1 Magaalaa Waaqa keenyaa keessatti,
tulluu isaa qulqulluu irrattis, WAAQAYYO guddaa dha;
waan hundaa olittis galanni isaaf mala.

2 Tulluun Xiyoon gara kaabaatti argama;
dheerina isaatiinis ni bareeda.
Innis gammachuu addunyaa hundaa ti;

magaalaa Mooticha Guddaatis.
3 Waaqni da’annoo ishee keessa jira;
inni da’annoo ishee ta’uu isaa argisiiseera.

4 Mootonni humna walitti daratanii
tokkummaadhaan itti qajeelan.
5 Isaanis ishee arganii dinqifatan;
sodaataniis baqatan.
6 Achittis akkuma muddama dubartii ciniinsifattuutti,
hollannaan isaan qabate.
7 Atis bubbee ba’a biiftuutiin
dooniiwwan Tarshiish caccabsite.

8 Akkuma dhageenye sana,
magaalaa Waaqayyoo Waan Hunda Danda’uu keessatti,
magaalaa Waaqa keenyaa keessatti, akkasuma argineerra;
Waaqni bara baraan jabeessee ishee dhaaba.

9 Yaa Waaqayyo, nu mana qulqullummaa kee keessatti,
jaalala kee kan hin geeddaramne sana irra deddeebinee yaadna.
10 Yaa Waaqayyo, galanni kee akkuma maqaa keetii
handaara lafaa ga’a;
harki kee mirgaas qajeelummaan guutameera.
11 Sababii murtii keetiitiif,
Tulluun Xiyoon haa gammaddu;
intallan Yihuudaas haa ililchan.

12 Xiyoon irra naanna’aa; naannoo ishee irras adeemaa;
gamoowwan ishees lakkaa’aa.
13 Dhaloota itti aanutti akka himtaniif,
dallaa eegumsa ishee sirriitti hubadhaa;
galma ishees ilaalaa.

14 Waaqni kun bara baraa hamma bara baraatti Waaqa keenyaatii;
inni hamma dhumaatti illee nu qajeelcha.

## Qabeenya abdachuun faayidaa hin qabu

# Faarfannaa 49

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.
1 Yaa namoota, isin hundi waan kana dhaga’aa;
warri addunyaa kana irra jiraattan hundinuu dhaggeeffadhaa;
2 xinnaa fi guddaan, sooressii fi hiyyeessi walumaan
dhaggeeffadhaa; kunis:
3 Afaan koo dubbii ogummaa dubbata;
wanti ani garaatti yaadus hubannaa kenna.
4 Gurra koo gara mammaaksaatti nan qabadha;
hibboo koos baganaadhaan nan ibsadha.

5 Bara rakkinaa, yeroo gowwoomsitoonni hamoon
na marsanitti, ani maaliifan sodaadha?
6 Isaan qabeenya isaanii amanatu;

guddina sooruma isaaniitiinis boonu.
7 Namni lubbuu nama gara biraa furu,
yookaan gatii furii nama sanaa Waaqaaf baasu tokko iyyuu hin jiru;
8 furiin lubbuu namaa gatii guddaa qabaatii;
gatiin quufsaanis yoom iyyuu hin argamu;
9 silaa inni bara baraan ni jiraata;
hin tortorus ture.
10 Akka ogeeyyiin du'an namni hundinuu ni arga;
gowwoonnii fi raatuwwanis akkasuma ni badu;
qabeenya isaaniis warra kaaniif dhiisu.
11 Isaan yoo lafa maqaa isaaniitiin waamamtu qabaatan illee,
awwaalli isaanii bara baraan mana isaanii,
dhalootaa hamma dhalootaattis iddoo boqonnaa isaanii ta'ee hafa.

12 Namni garuu qabeenya qabaatu illee bara dheeraa hin jiraatu;
inni akkuma bineensa du'ee baduu ti.

13 Wanni namoota ofitti amanatanii fi
warra isaan duukaa bu'anii dubbii isaanii ho'isan eeggatu kanuma.
14 Isaan akkuma hoolaa du'aaf ramadamaniiru;
duuti tiksee isaanii ti;
toloonni ganamaan isaan irratti aangoo qabaatu;
dhagni isaanii mana isaanii irraa fagaatee awwaala keessatti ni tortora;
awwaallis mana jireenya isaanii ti.
15 Waaqni garuu lubbuu koo humna sii'ool jalaa baasa;
inni dhugumaan ofitti na fudhata.

16 Yommuu namni tokko sooromu,
yommuu ulfinni mana isaas guddatu hin sodaatin.
17 Inni yommuu du'utti waanuma tokko illee fudhatee hin deemuutii;
ulfinni isaas isa wajjin hin dhaqu.
18 Inni bara jireenya isaa lubbuu isaa eebbisu iyyuu,
yoo namoonni yeroo ati waan gaarii ofii keetii godhattutti si jajan illee,
19 inni gara dhaloota abbootii isaa,
gara warra gonkumaa deebi'anii ifa jireenyaa hin arginee ni dhaqa.

20 Namni badhaadhaan hubannaa hin qabne,
akkuma bineensaa du'ee bada.

## Waaqeffannaa Dhugaa

# Faarfannaa 50

Faarfannaa Asaaf.
1 WAAQAYYO, Humna Qabeessi dubbatee
ba'a biiftuutii jalqabee hamma lixa biiftuutti
lafa waameera.
2 Xiyoon ishee miidhaginni ishee
hir'ina hin qabne irraa Waaqni ni ibsa.
3 Waaqni keenya ni dhufa; hin cal'isus;
ibiddi hamaan fuula isaa dura,
bubbeen jabaanis naannoo isaa jira.
4 Inni saba isaatti muruuf jedhee,

samiiwwan oliitii fi lafa akkana jedhee ni waama:
5 “Qulqulloota koo warra aarsaadhaan na wajjin kakuu galan,
gara kootti walitti naa qabaa.”
6 Samiiwwan qajeelummaa isaa ni labsu;
Waaqni mataan isaa abbaa murtiitii.

7 “Yaa saba ko, nan dubbadhaatii dhaga’i;
yaa Israa’el, ani dhugaa sitti nan ba’a:
Ani Waaqni Waaqa kee ti.
8 Ani aarsaa keetiif sitti hin dheekkamu;
aarsaan kee inni gubamu yeroo hunda fuula koo dura jira.
9 Ani dallaa kee keessaa korma,
yookaan karra kee keessaa korbeessa re’ee hin barbaadu.
10 Bineensi bosonaa hundinuu,
horiin tulluu kuma irratti bobba’us kan kootii.
11 Ani simbirroota tulluuwwan irraa hunda beeka;
wanni lafa irra sosocho’u hundinuus kan koo ti.
12 Ani utuun beela’ee iyyuu sitti hin himadhu ture;
addunyaa fi wanni ishee keessa jiru hundi kanuma kootii.
13 Ani foon korommii nan nyaadhaa?
Yookaan dhiiga re’ootaa nan dhugaa?

14 “Aarsaa galataa Waaqaaf dhi’eessi; wareega kee illee
Waaqa Waan Hundaa Oliitiif galchi;
15 guyyaa rakkinaa na waammadhu;
ani sin oolchaa; atis ulfina naa kennita.”
16 Waaqni garuu nama hamaadhaan akkana jedha:
“Ati seera koo labsuudhaaf,
kakuu koos afaan keetiin dubbachuudhaaf
mirga maalii qabda?
17 Ati adaba koo ni jibbita;
dubbii koos of duubatti gatta.
18 Ati yoo hattuu argite isa michuu godhatta;
ejjitoota wajjinis qooda qabaatta.
19 Ati afaan kee waan hamaa dubbachuuf itti fayyadamta;
arraba kees gowwoomsaadhaaf dheereffatta.
20 Ati teessee obboleessa kee hamatta;
ilma haadha kee maqaa balleessita.
21 Ati waan kana hunda hojjetteerta; ani immoo inuma cal’ise;
ati akkuma ofii keetii na seete.
Amma garuu ani sin ifadha;
ifatti baasees sin himadha.

22 “Isin warri Waaqa irraanfattan waan kana hubadhaa;
yoo kanaa achii ani isin nan ciccira;
namni isin oolchu tokko iyyuu hin jiru.
23 Namni aarsaa galataa dhi’eessu ulfina naa kenna;
anis warra hir’ina hin qabnetti fayyisuu Waaqaa nan argisiisa.”

## Kadhannaa Dhiifama Cubbuu

# Faarfannaa 51

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit. Faarfannaa kanas inni erga Batisheebaa bira ga'ee booddee yeroo Naataan raajichi gara isaa dhufetti faarfate.
1 Yaa Waaqayyo, akkuma jaalala kee
kan hin geeddaramne sanaatti na maari;
akkuma baay'ina araara keetiitti,
yakka koo narraa haqi.
2 Yakka koo hundumaa narraa dhiqi;
cubbuu koo irraas na qulqulleessi.

3 Ani yakka koo beekaatii;
cubbuun koos yeroo hunda fuula koo dura jira.
4 Ani sitti, suma qofatti cubbuu hojjedheera;
waan fuula kee duratti hamaa ta'es hojjedheera;
kanaafuu ati murtii keetiin qajeelaa dha;
yommuu murtii kennituttis hin dogoggortu.
5 Dhuguma iyyuu ani cubbuudhaanan dhaladhe;
yeroo haati koo na ulfooftee jalqabees cubbamaan ture.
6 Ati keessa namaatti dhugaa hawwita;
kanaafuu keessa kootti ogummaa na barsiisi.

7 Hiisophiidhaan cubbuu irraa na qulqulleessi; anis nan qulqullaa'a;
na dhiqi; anis cabbii caalaatti nan addaadha.
8 Gammachuu fi ililee na dhageessisi;
lafeen ati caccabsites haa ililchu.
9 Fuula kee cubbuu koo irraa deebifadhu;
yakka koo hundas narraa haqi.

10 Yaa Waaqayyo, garaa qulqulluu na keessatti uumi;
Hafuura qajeelaas na keessatti haaromsi.
11 Fuula kee duraa na hin balleessin;
Hafuura kee Qulqulluus narraa hin fudhatin.
12 Gammachuu fayyina keetii naa deebisi;
na jiraachisuudhaafis hafuura sarmu naa kenni.

13 Anis warra karaa kee irraa jal'atan nan barsiisa;
cubbamoonnis gara kee ni deebi'u.
14 Yaa Waaqi, Waaqa na Fayyiftu,
ati dhiiga dhangalaasuu irraa na oolchi;
arrabni koos qajeelummaa kee ni faarfata.
15 Yaa Gooftaa, hidhii koo naa bani;
afaan koos galata kee labsa.
16 Ati aarsaatti hin gammaddu malee silaa nan dhi'eessa ture;
aarsaa gubamuttis hin gammaddu.
17 Aarsaan Waaqni fudhatu hafuura cabaa dha;
Yaa Waaqi, ati garaa cabaa fi kan gaabbu hin tuffatu.

18 Jaalala keetiin Xiyooniif waan gaarii godhi;
dallaa Yerusaalem ijaari.
19 Yoos ati aarsaa qajeelaatti, qalma gubamuu fi
qalma akkuma jirutti gubamutti ni gammadda;

korommiinis iddoo aarsaa kee irratti ni dhi’eeffaman.

## Waan Nama Hamaa Eeggatu

# Faarfannaa 52

Dura bu’aa faarfattootaatiif. *Maskiilii* Daawit. Doo’eeg namni biyya Edoomii yeroo gara Saa’olii dhaqee, “Daawit gara mana Ahiimelekii dhufeera” jedhee itti himetti faarfatame.

1 Yaa nama jabaa nana, ati maaliif hamminaan koorta?
Ati namni fuula Waaqaa duratti tuffatamtu,
maaliif guyyaa guutuu koorta?
2 Ati namni nama gowwoomsitu,
arrabni kee badiisa qopheessa;
arrabni kee akkuma qarabaa qaramee ti.
3 Ati waan gaarii irra waan hamaa jaallatta;
dhugaa dubbachuu irra immoo soba dubbachuu jaallatta.
4 Yaa arraba gowwoomsituu nana,
ati dubbii nama miidhu hunda jaallatta.

5 Kanaafuu Waaqni bara baraan si balleessa:
Inni dunkaana kee keessaa butee si ciccira;
biyya jiraattotaa keessaas si buqqisa.
6 Qajeeltonni waan kana arganii sodaatan;
isaanis akkana jedhanii isatti kolfan;
7 “Kunoo, namicha Waaqa da’oo isaa hin godhatin,
qooda kanaa immoo baay’ina qabeenya isaa amanatee
jal’ina ofiitti ciche!”

8 Ani garuu akkuma ejersa
mana Waaqaa keessatti lalisuu ti;
baraa hamma bara baraattis, jaalala Waaqaa kan
hin geeddaramne sana nan amanadha.
9 Sababii ati waan kana gooteef
ani bara baraan sin galateeffadha;
sababii maqaan kee gaarii ta’eef ani maqaa kee nan abdadha.
Fuula qulqulloota kee durattis sin leellisa.

## Waan Warra Waaqatti Hin Bulle Eeggatu

# Faarfannaa 53

*53:1-6 kwf – Far 14:1-7*

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Gosa Muuziiqaa *maahilaati* jedhamuun faarfatame. *Maskiilii* Daawiti.

1 Gowwaan garaa isaatti, “Waaqni hin jiru” jedha.
Isaan xuraa’aniiru; karaan isaaniis jibbisiisaa dha;
namni waan gaarii hojjetu tokko iyyuu hin jiru.

2 Waaqni yoo namni waa hubatu,
kan Waaqas barbaadu tokko iyyuu jiraate
arguuf jedhee,
samii irraa ilmaan namootaa gad ilaala.
3 Hundinuu dogoggoraniiru;
hundi isaaniis xuraa’aniiru;

namni waan gaarii hojjetu tokko iyyuu hin jiru;
tokkumti iyyuu hin jiru.

4 Warri hammina hojjetan,
kanneen akkuma waan buddeena nyaataniitti saba koo nyaatan,
warri Waaqa hin waammanne hundinuu homaa hin beekanii?

5 Isaan iddoo wanni sodaatamu hin jirretti,
sodaadhaan liqimfamaniiru.
Waaqni lafee warra si marsanii ni bittinneessa;
sababii Waaqni isaan tuffateef, ati isaan qaanessite.

6 Maaloo utuu Xiyoon keessaa fayyinni Israa'eliif dhufee!
Yommuu Waaqni saba isaa warra booji'aman deebisutti,
Yaaqoob haa ililchu; Israa'elis haa gammadu!

## Waaqayyotti Abbaa Murtii Qajeelaatti Iyyachuu

# Faarfannaa 54

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Mi'a ribuutiin. *Maskiilii* Daawit. Yeroo warri Ziif Saa'ol bira dhaqanii, "Daawit nu gidduu dhokatee jira" jedhanitti faarfatame.

1 Yaa Waaqi, maqaa keetiin na fayyisi;
humna keetiinis naa murteessi.
2 Yaa Waaqi, kadhannaa koo naa dhaga'i,
dubbii afaan kootiis dhaggeeffadhu.

3 Keessumoonni natti ka'aniiruutii;
warri garaa namaa hin laafne lubbuu koo galaafachuu barbaadu;
Isaanis warra Waaqaaf ulfina hin kenninee dha.

4 Kunoo, Waaqni gargaaraa koo ti;
Gooftaan jiraachisaa lubbuu koo ti.

5 Hamminni warra maqaa na balleessanii isaanumatti haa deebi'u;
atis amanamummaa keetiin isaan balleessi.

6 Ani fedhii kootiin aarsaa siif dhi'eessa;
yaa WAAQAYYO, ani maqaa kee nan galateeffadha;
inni gaariidhaatii.
7 Inni dhiphina koo hundumaa keessaa na baaseeraatii;
iji koos ol aantummaadhaan diinota koo of jalatti ilaaleera.

## Kadhannaa Yeroo Ari'atamaa

# Faarfannaa 55

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Mi'a ribuutiin. *Maskiilii* Daawit.

1 Yaa Waaqi, kadhannaa koo dhaga'i;
waammata koo jalaas hin didin.
2 Na dhaga'iitii deebii naa kenni;
komiin koo na dhiphisa; anis nagaa dhabeera.
3 Sagalee diinaatiin,
cunqursa namoota hamoos dhufe;
isaan dhiphina natti fiduutii;

aariidhaanis na jibbu.

4 Lapheen koo na keessatti dhiphatte;
sodaan du'aas na qabate.
5 Sodaa fi hollannaan natti dhufeera;
naasuunis na fudhateera.
6 Anis akkana nan jedhe;
"Utuu ani akkuma gugee qoochoo qabaadhee!
Silaa asii barrisee nan boqodhan ture.
7 Silaa fagootti baqadhee
gammoojjii keessa nan bubbula ture;
8 silaa bubbee hamaa fi qilleensa jabaa irraa fagaadhee
gara iddoo boqonnaa kootti nan ariifadhan ture."

9 Yaa Gooftaa, namoota hamoo burjaajessi;
dubbii isaaniis waliin dha'i;
ani magaalaa keessatti goolii fi lola argeeraatii.
10 Isaan halkanii guyyaa ol ba'anii dallaa ishee irra naanna'u;
jal'innii fi rakkinni ishee keessa jira.
11 Ishee keessa badiisatu jira;
nama cunqursuu fi gowwoomsuun daandii ishee irraa hin dhabamu.

12 Utuu diinni na arrabsee,
silaa obsuu nan danda'a ture;
utuu amajaajiin natti ka'ee,
silaa jalaa dhokachuu nan danda'a ture.
13 Garuu si'i namuma akka kootii,
hiriyaa koo, michuu koo kan natti dhi'aatutu waan kana godhe.
14 Tokkummaadhaan mana Waaqaa walii wajjin deemne;
haasaa mi'aawaas walii wajjin haasofne.

15 Duuti tasa isaanitti haa dhufu;
utuma lubbuudhaan jiranuu sii'ool keessa haa bu'an;
hamminni mana isaaniitii fi garaa isaanii keessa jiraattii.

16 Ani garuu Waaqa nan waammadha;
WAAQAYYOS jalaa na baasa.
17 Ani galgala, ganamaa fi waareetti dhiphinaan nan iyya;
innis sagalee koo ni dhaga'a.
18 Yoo namni baay'een anaan morme illee,
inni waraana natti ka'e jalaa miidhaa malee na baasa.
19 Waaqni inni durumaa jalqabee teessoo irra jiru sun,
Namoota karaa isaanii hin geeddaranne,
kanneen Waaqa hin sodaanne ni dhaga'a;
isaan qaanessas.

20 Hiriyaan koo michoota isaatti harka isaa ol fudhate;
kakuu isaa illee ni cabse.
21 Dubbiin isaa akkuma dhadhaa ti; nama hin quuqu;
garaa isaa keessa garuu lolatu jira;
dubbiin isaa zayitii caalaa lallaafa;

garuu goraadee luqqifamee dha.

22 Yaaddoo kee WAAQAYYOTTI kennadhu;
inni si jiraachisa;
namni qajeelaan akka jeqamus hin godhu.
23 Yaa Waaqayyo, ati garuu
namoota hamoo boolla badiisaa keessa ni buufta;
warri dhiiga dhangalaasanii fi gowwoomsitoonni,
walakkaa bara jireenya isaanii iyyuu hin jiraatan.

Ani garuu sin amanadha.

## Waaqa Amanachuu

# Faarfannaa 56

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo "Gugee Qilxuu Fagoo irraa" jedhuun faarfatame. *Miiktaamii* Faarfannaa Daawit. Innis yeroo Filisxeemonni Gaati keessatti isa qaban faarfate.

1 Yaa Waaqi na maari;
diinonni koo akka malee na ari'u;
guyyaa guutuus na cunqursu.
2 Diinonni koo guyyaa guutuu na gaadu;
namoonni baay'een of tuulummaadhaan na lolu.

3 Ani yommuun sodaadhutti sin amanadha.
4 Waaqa ani dubbii isaa jajadhu,
Waaqa nan amanadha; homaa hin sodaadhu.
Namni du'a hin oolle maal na gochuu danda'a?

5 Isaan guyyaa guutuu dubbii koo micciiru;
na miidhuudhaafis yeroo hunda natti malatu.
6 Isaan ni mari'atu; ni riphus;
lubbuu koo galaafachuuf jedhanii
tarkaanfii koo eeggatu.
7 Sababii hammina isaaniitiif akka isaan miliqan hin godhin;
yaa Waaqi, dheekkamsa keetiin saboota gad deebisi.

8 Gadadamu koo galmeessi;
imimmaan koos kitaaba kee keessatti barreessi;
isaan galmee kee keessa jiru mitii?
9 Yommuu ani gargaarsaaf si waammadhutti,
diinonni koo dugda duuba deebi'u.
Anis kanaan akka Waaqni na wajjin jiru beeka.

10 Waaqa ani dubbii isaa jajadhu,
WAAQAYYO ani dubbii isaa jajadhu,
11 Waaqa nan amanadha; ani homaa hin sodaadhu.
Namni maal na gochuu danda'a?

12 Yaa Waaqi wareegni kee narra jira;
aarsaa galataas siif nan dhi'eessa.

13 Akka ani fuula Waaqaa dura,
ifa jireenyaa keessa deddeebi'uuf,
ati lubbuu koo du'a jalaa,
miilla koos gufachuu oolchiteertaatii.

## Diinota Gara Jabeeyyii Gidduutti

# Faarfannaa 57

*57:7-11 kwf – Far 108:1-5*

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo "Hin balleessin" jedhuun faarfatame. Faarfannaa Daawit. *Miiktaamii.* Innis yeroo Saa'ol jalaa baqatee holqatti galee faarfate.

1 Na maari; yaa Waaqa na maari;
lubbuun koo sitti kooluu galtiitii.
Anis hamma balaan darbutti,
gaaddisa qoochoo keetii jalatti kooluu nan gala.

2 Ani gara Waaqa Waan Hundaa Oliitti,
gara Waaqa haaloo naa baasuutti nan iyya.
3 Inni samii irraa ergee na oolcha;
warra akka malee na ari'an ni ifata;
Waaqni jaalala isaatii fi amanamummaa isaa ni erga.

4 Ani leencota gidduun jira;
ani bineensota nama nyaatan,
namoota ilkaan isaanii eeboo fi xiyyaa
kanneen arrabni isaanii akka goraadee qaramaa gidduu ciiseera.

5 Yaa Waaqi, ati samiiwwaniin olitti ol ol jedhi;
ulfinni kees lafa hunda irra haa jiraatu.

6 Isaanis kiyyoo miilla kootiif kaa'an;
lubbuun koos dhiphinaan gad gogdeerti.
Isaan karaa koo irratti boolla qotan;
garuu isaanumattu keessatti kufe.

7 Yaa Waaqi, garaan koo hin raafamu;
garaan koo hin raafamu;
ani nan faarfadha; nan weeddisas.
8 Yaa lubbuu ko, dammaqi!
Yaa kiraaraa fi baganaa dammaqaa!
Anis ganamaan nan dammaqa.

9 Yaa Gooftaa, ani saboota gidduutti galata siif nan galcha;
namoota gidduuttis waa'ee kee nan faarfadha.
10 Jaalalli kee guddaa dha; samiiwwanis ga'aatii;
amanamummaan kees samiiwwan qaqqaba.

11 Yaa Waaqi, ati samiiwwaniin olitti ol ol jedhi;
ulfinni kees lafa hunda irra haa jiraatu.

## Abbaa Murtii Kan Abbootii Murtii Biyya Lafaa

# Faarfannaa 58

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo "Hin balleessin" jedhuun faarfatame. Faarfannaa Daawiti. *Miiktaamii.*

1 Yaa bulchitoota, isin dhugumaan waan qajeelaa dubbattanii?
Nama gidduuttis murtii qajeelaa kennitanii?
2 Akkas miti; isin garaa keessan keessatti hammina yaaddu;
harki keessanis lafa irratti goolii kaasa.

3 Namoonni hamoon dhalootumaa kaasanii karaa irraa jal'atu;
gadameessa haadha isaaniitii jalqabniis karaa irraa goranii soba dubbatu.
4 Hadhaan isaanii akkuma hadhaa bofaa ti;
isaan akkuma buutii duudaa gurra isaa cuqqaalatee
5 sagalee nama isa raatessuu yookaan nama waan ittiin isa raatessu
hojjetu tokkoo dhaga'uu diduu ti.

6 Yaa Waaqi ati ilkaan isaanii afaan isaanii keessatti caccabsi;
qarriffaa leencotaas daaki, yaa WAAQAYYO!
7 Isaan akkuma bishaan dhangala'ee baduutti haa badan;
yeroo iddaa futtaasanitti xiyyi isaanii haa doomu.
8 Akkuma ciilalluu yommuu deemu baquutti,
akkuma daa'ima utuu yeroon hin ga'in dhalatuuttis aduu hin argin.

9 Utuu okkoteen keessan ibidda qoraattiitiin hin ho'in,
jiidhaas ta'u gogaan isaanii haxaa'amanii balleeffamu.
10 Namni qajeelaan yommuu haaloo ba'uu kana argutti ni gammada;
miilla isaas dhiiga namoota hamootiin ni dhiqata.
11 Yommus namoonni akkana ni jedhu;
"Dhugumaan nama qajeelaadhaaf badhaasni jira;
dhugumaan Waaqni lafa irratti murtii kennu jira."

## Kadhannaa Diina Jalaa Ba'uuf Dhi'aate

# Faarfannaa 59

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo Daawit kan "Hin balleessin" jedhuun faarfatame. *Miiktaamii.* Daawitis yeroo Saa'ol isa ajjeesuudhaaf jedhee namoota ergee mana isaa eegsisetti faarfate.

1 Yaa Waaqi, diinota koo jalaa na baasi;
warra natti ka'an jalaas na furi.
2 Warra hammina hojjetan jalaa na baasi;
namoota dhiiga dhangalaasan jalaas na baraari.

3 Ilaa, isaan riphanii na eeggachaa jiruu!
Yaa WAAQAYYO, namoonni hamoon,
utuu ani balleessaa fi cubbuu hin qabaatin lola natti kaasu.
4 Ani balleessaa tokko illee hin hojjennee;
isaan garuu na loluuf qophaa'aniiru.
Na gargaaruudhaaf ka'i; rakkina koos ilaali!
5 Yaa WAAQAYYO, Waaqa Waan Hunda Danda'u,
yaa Waaqa Israa'el, saboota hunda adabuudhaaf ka'i;
warra hammina isaaniitiin yakka hojjetan tokko illee hin maarin.

6 Isaanis galgala galgala deebi’anii,
akka saree gururi’aa magaalattii irra naanna’u.
7 Waan isaan afaan isaaniitii baasan ilaali;
hidhii isaanii irra goraadeetu jira;
isaanis, “Eenyutu nu dhaga’uu danda’a?” jedhu.
8 Yaa WAAQAYYO, ati garuu isaanitti kolfita;
saboota sana hundumattis ni qoosta.

9 Yaa Jabina ko, ani sin eeggadha;
yaa Waaqi ati da’oo koo,
10 Waaqa na jaallatuu dha.

Waaqni fuula koo dura deema;
akka ani diinota koo mo’annoodhaan of jalatti ilaalu godha.
11 Yaa Gooftaa, yaa gaachana keenya,
ati garuu isaan hin ajjeesin;
yoo kanaa achii sabni koo ni irraanfata.
Humna keetiin akka isaan jooran godhi; gad isaan deebisis.
12 Sababii cubbuu afaan isaaniitiif,
sababii dubbii hidhii isaaniitiif,
isaan of tuulummaa isaaniitiin haa qabaman.
Sababii abaarsaa fi soba isaan dubbataniitiif,
13 dheekkamsaan isaan balleessi;
akka isaan deebi’anii hin argamneef isaan balleessi.
Kanaanis akka Waaqni Yaaqoob irratti mootii ta’e,
hamma handaara lafaatti ni beekama.

14 Isaanis galgala galgala deebi’anii,
akka saree gururi’aa, magaalattii irra naanna’u.
15 Isaan waan nyaatan barbaacha asii fi achi jooru;
yoo quufuu baatan immoo ni iyyu.
16 Ani garuu waa’ee jabina keetii nan faarfadha;
ganamaanis waa’ee jaalala keetii nan faarfadha;
ati da’oo kootii; yeroo rakkina koottis
ati iddoo ani itti kooluu galuu dha.

17 Yaa Jabina ko, ani faarfannaa galataa siifin faarfadha;
yaa Waaqi, ati da’oo koo ti;
ati Waaqa ani abdadhuu dha.

## Kadhannaa Mo’amuu Booddee Dhi’eeffame

# Faarfannaa 60

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Yeedaloo “Daraaraa kakuu” jedhamuun faarfatame. *Miiktaamii* Daawit. Barsiisuuf. Yeroo inni Arraam Nahaaraayimii fi Arraam Zoobaa lolee fi yeroo Yoo’aabin deebisee warra Edoomii keessaa namoota kuma kudha lama Sulula soogiddaa keessatti fixetti faarfatame.
1 Yaa Waaqi, ati nu gatteerta; nu caccabsiteertas;
nutti aarteerta; amma garuu iddootti nu deebisi!
2 Ati lafa sochoofteerta; tarsaaftees afaan bansiifteerta;
caccabaa ishees walitti suphi; isheen raafamteertii.
3 Ati akka sabni kee waan hamaadhaan dhiphatu gooteerta;

daadhii wayinii nu gatantarsus nuu kenniteerta.
4 Akka isaan iddaa jalaa gara isaatti baqataniif,
ati warra si sodaataniif mallattoo kenniteerta.

5 Akka warri ati jaallattu furamaniif,
harka kee mirgaatiin nu oolchi; nu gargaaris.
6 Waaqni iddoo qulqullummaa isaatii akkana jedhee dubbateera;
“Ani gammachuudhaan Sheekemin gargar nan qooda;
Sulula Sukootis nan safara.
7 Gili’aad kan koo ti; Minaaseenis kan koo ti.
Efreem gonfoo sibiilaa koo ti;
Yihuudaanis bokkuu mootummaa koo ti.
8 Mo’aab caabii dhiqannaa koo ti;
Edoom irra kophee koo darbadhee nan buusa;
Filisxeem irrattis mo’annaadhaan nan geerara.”

9 Eenyutu magaalaa jabeeffamtee ijaaramtetti na fida?
Eenyutu Edoomitti na geessa?
10 Yaa Waaqi, kan nu gatte suma mitii?
Yaa Waaqi, kan loltoota keenya wajjin ba’uu diddes suma mitii?
11 Diina keenya of irraa dhowwuu nu gargaar;
gargaarsi namaa faayidaa hin qabuutii.
12 Nu Waaqa wajjin ni mo’anna;
innis diinota keenya gad dhidhiita.

## Faarfannaa Nama Booji’amee

# Faarfannaa 61

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit kan mi’a ribuutiin faarfatame.
1 Yaa Waaqi, iyyata koo dhaga’i;
kadhannaa koos dhaggeeffadhu.

2 Yeroo garaan koo citetti,
ani handaara lafaatii sin waammadha;
ati gara kattaa na caalaa ol dheeratuutti na geessi.
3 Ati iddoo ani itti kooluu galuudhaatii;
fuula diina koo durattis gamoo jabaa dha.

4 Ani bara baraan dunkaana kee keessa jiraachuu,
gaaddisa qoochoo keetii jalattis kooluu galuu nan hawwa.
5 Yaa Waaqi, ati wareega koo dhageesseertaatii;
dhaala warri maqaa kee sodaatan argatanis naa kenniteerta.

6 Bara jireenya mootii, umurii isaa illee
dhalootaa gara dhalootaatti dheeressi.
7 Innis fuula Waaqaa duratti bara baraan haa mo’u;
akka jaalalli keetii fi amanamummaan kee isa eeganis godhi.

8 Anis faarfannaa galataa maqaa keetiif nan faarfadha;
guyyuma guyyaanis wareega koo nan guuttadha.

## Waaqa Qofa Abdachuu

# Faarfannaa 62

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Yeduutuuniif. Faarfannaa Daawit.
1 Lubbuun koo Waaqa qofa eeggatti;
fayyinni koos isa biraa naa dhufa.
2 Kattaan kootii fi fayyinni koo isa qofa;
inni da’oo koo ti; ani gonkumaa hin raafamu.

3 Isin hamma yoomiitti nama miitu?
Hamma yoomiitti akka keenyan manaa kan duufeetti,
akka dallaa raafameettis lafaan isa dha’uu barbaaddu?
4 Isaan aangoo isaa guddaa sana irraa,
guutummaatti gad isa deebisuu barbaadu;
isaan sobatti ni gammadu.
Afaan isaaniitiin ni eebbisu;
garaa isaaniitiin garuu ni abaaru.

5 Lubbuun koo Waaqa qofa obsaan eeggatti;
abdiin koo isa biraa dhufaatii.
6 Kattaan kootii fi fayyinni koo isa qofa;
inni da’oo koo ti; ani hin raafamu.
7 Fayyinni kootii fi ulfinni koo harka Waaqaa keessa jira;
kattaan koo jabaan, iddoon ani itti kooluu galu Waaqa.
8 Yaa namoota, yeroo hunda isa amanadhaa;
garaa keessanis fuula isaa duratti dhangalaasaa;
Waaqni iddoo nu itti kooluu galluudhaatii.

9 Gosa tuffatamaa irraa dhalachuun homaa miti;
gosa kabajamaa irraa dhalachuunis sobuma;
yoo madaaliidhaan madaalaman
lachanuu qilleensa caalaa salphatu.
10 Waan saamichaan argattan hin amanatinaa;
waan hatameenis hin koorinaa.
Yoo qabeenyi keessan guddate illee,
qalbii keessan isa irra hin kaa’atinaa.

11 Waaqni yeroo tokko dubbate;
ani immoo yeroo lama nan dhaga’e;
kunis akka humni kan Waaqaa ta’ee dha.
12 Yaa Gooftaa araarri kan kee ti.
Ati dhugumaan tokkoo tokkoo namaa
akkuma hojii isaatti gatii isaa ni kennitaaf.

## Waaqa Barbaacha

# Faarfannaa 63

Faarfannaa Daawit. Yeroo inni Gammoojjii Yihuudaa keessa turetti.
1 Yaa Waaqi, ati Waaqa koo ti;
ani dhugumaan sin barbaadadha;
lafa gogaa fi gammoojjii,
lafa bishaan hin jirretti,
lubbuun koo si dheebotti;
foon koos sitti gaggaba.

2 Kanaafuu ani iddoo qulqulluu keessattin si arge;
humna keetii fi ulfina kees nan ilaale.
3 Waan jaalalli kee jireenya caaluuf,
hidhiin koo si jajatti.
4 Ani hamman jirutti sin eebbisa;
maqaa keetiinis harka koo ol nan qabadha.
5 Lubbuun koo akka nama dhukaa fi cooma quufeetti quufti;
afaan koos hidhii ililleetiin si jajata.

6 Ani siree koo irratti sin yaadadha;
halkan guutuus waa'ee kee nan yaada.
7 Waan ati gargaarsa koo taateef,
ani gaaddisa qoochoo keetii jalatti gammachuudhaan nan faarfadha.
8 Lubbuun koo sitti maxxanti;
harki kee mirgaa ol na qaba.

9 Warri lubbuu koo galaafachuu barbaadan garuu
boolla lafaa isa gad fagoo keessa bu'u.
10 Isaan dabarfamanii goraadeetti kennamu;
nyaata waangoos ni ta'u.

11 Mootiin garuu Waaqaatti ni gammada;
namni Waaqaan kakatu hundinuu ulfina argata;
afaan warra soba dubbatuu immoo ni cufama.

## Warri Nama Arrabsan Adabamuu Isaanii

# Faarfannaa 64

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqi, yommuu ani iyyadhu sagalee koo dhaga'i;
lubbuu koos doorsisuu diinaa duraa baasi.
2 Marii jal'ootaa duraa,
mala namoota hamoo duraas na dhoksi.

3 Isaan arraba isaanii akka goraadee qaratan;
dubbii hadhaa'aas akkuma xiyyaatti qopheeffatu.
4 Isaan riphanii nama yakka hin qabnetti futtaasu;
akkuma tasaas sodaa malee itti gad dhiisu.

5 Kaayyoo jal'inaa irratti wal jajjabeessu;
waa'ee dhoksanii kiyyoo kaa'uus ni mari'atu;
"Eenyutu isa arguu danda'a?" jedhaniis ni yaadu.
6 Isaanis jal'ina yaaduudhaan,
"Nu mala hir'ina hin qabne malanneerra!" jedhu;
yaadnii fi keessi garaa namaa gad fagoodhaatii.

7 Waaqni garuu xiyya isaa isaanitti futtaasa;
isaanis akkuma tasaa madaa'u.
8 Innis arrabuma isaaniin isaan balleessa;
warri isaan argan hundinuu tuffiidhaan mataa raasu.

9 Namoonni hundinuu ni sodaatu;
isaan hojii Waaqaa ni labsu;

waan inni hojjete illee ni qalbeeffatu.
10 Namni qajeelaan WAAQAYYOTTI gammada;
isattis kooluu gala;
gara toleeyyiin hundinuu isaan ulfina argatu.

## Sababii Kennaa Isaatiif Waaqayyon Jajachuu

# Faarfannaa 65

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqi, Xiyoon keessatti galatatu si eeggata;
wareegni keenyas siif galfama.
2 Yaa isa kadhannaa namaa dhageessu,
namni hundinuu gara kee ni dhufa.
3 Yeroo cubbuun na mo’attetti,
ati yakka keenya nuu dhiifteerta.
4 Warri ati filattee akka isaan qe’ee kee jiraataniif
ofitti dhi’eessite eebbifamoo dha!
Nus waan gaarii mana keetiitiin,
kan mana qulqullummaa keetiitiinis ni quufna.

5 Yaa Waaqi Fayyisaa keenya,
ati hojii qajeelummaa sodaachisaadhaan
deebii nuu kennita;
daarii lafaa hundumaaf,
galaana fagootti argamuufis ati abdii dha;
6 ati humna uffatteerta;
jabina keetiinis tulluuwwan hundeessite;
7 ati huursaa galaanaa,
huursaa dha’aa bishaanii,
raafama uummataas ni cal’isiifte.
8 Warri fagoo jiraatan dinqiiwwan kee ni sodaatu;
ati yeroo bari’uu fi yeroo dhi’utti,
akka faarfannaan gammachuu faarfatamu ni goota.

9 Ati lafa ni eegda; bishaanis ni obaafta;
akka malees ni gabbifta;
akka namootaaf midhaan kennaniifis
lageen Waaqaa bishaaniin guutamaniiru;
ati kanumaaf qopheessiteertaatii.
10 Bo’oo isaa bishaan quubsita;
biyyoo isaas wal qixxeessita;
tiifuu bokkaatiinis ni jiifta;
biqila isaas ni eebbifta.
11 Gaarummaa keetiin bara ni gonfita;
daandiiwwan kees cooma coccobsu.
12 Lafti margaa kan gammoojjii akka malee misa;
gaarranis gammachuudhaan guutamu.
13 Dirreewwan bushaayeedhaan guutamu;
sululoonni midhaaniin haguugamu;
isaanis ililleedhaan iyyanii faarfatu.

## Waaqa Galateeffachuu

# Faarfannaa 66

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa.
1 Isin lafti hundinuu ililleedhaan gara Waaqaatti iyyaa!
2 Ulfina maqaa isaa faarfadhaa;
galata isaatiifis ulfina kennaa!
3 Waaqaan akkana jedhaa;
"Hojiin kee akkam sodaachisaa dha!
Sababii humni kee guddaa ta'eef,
diinonni kee fuula kee duratti hollatu.
4 Lafti hundinuu siif sagadu;
faarfannaa galataa siif faarfatu;
maqaa keetiifis faarfatu."

5 Kottaatii waan Waaqni hojjete,
hojii sodaachiisaa inni namaaf hojjete ilaalaa!
6 Inni galaana lafa gogaatti geeddare;
isaanis miilla isaaniitiin laga ce'an;
kottaa isatti haa gammannu!
7 Inni bara baraan humna isaatiin bulcha;
iji isaas saboota ilaala;
finciltoonni ol ol of hin qabin.

8 Yaa saboota, Waaqa keenya eebbisaa;
sagaleen isa galateeffatus haa dhaga'amu;
9 inni lubbuu keenya jiraachiseera;
miilla keenyas mucucaachuu oolcheera.
10 Yaa Waaqayyo, ati nu qorteertaatii;
akkuma meetiis nu qulqulleessiteerta.
11 Ati kiyyootti nu galchiteerta;
dugda keenya irras ba'aa keesseerta.
12 Akka namoonni mataa keenya yaabbatan gooteerta;
nu ibiddaa fi bishaan keessa dabarre;
ati garuu iddoo badhaadhummaatti nu fidde.

13 Anis qalma gubamu qabadhee
mana qulqullummaa kee nan seena;
wareega koos siif nan galcha;
14 kunis wareega yeroo ani rakkina keessa turetti
arrabni koo waadaa galee afaan koos dubbatee dha.
15 Anis horii coccoomoo, qalma gubamu,
korbeeyyii hoolaa immoo aarsaa godhee siif nan dhi'eessa;
jibootaa fi re'oota illee aarsaa siifin dhi'eessa.
16 Isin warri Waaqa sodaattan hundi kottaa dhaggeeffadhaa;
anis waan inni naaf godhe isinitti nan hima.
17 Ani afaan kootiin isatti nan iyye;
galanni isaas arraba koo irra ture.
18 Utuu ani garaa koo keessa cubbuu kaa'adhee jiraadhee,
silaa Gooftaan naaf hin dhaga'u ture;
19 Waaqni garuu dhugumaan na dhaggeeffateera;
sagalee kadhannaa kootiis dhaga'eera.

[20] Waaqni kadhannaa koo hin didin
yookaan jaalala isaa na hin dhowwatin haa eebbifamu!

## Faarfannaa Yeroo Midhaan Galfamuu

# Faarfannaa 67

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Mi'a ribuutiin. Faarfannaa.
[1] Waaqni garaa nuuf laafu; nu haa eebbisus;
fuula isaas nurratti haa ibsu;
[2] kunis akka karaan kee lafa irratti,
fayyisuun kee immoo saboota hundumaa biratti beekamuuf.

[3] Yaa Waaqayyo, saboonni si haa jajatan;
saboonni hundii si haa jajatan.
[4] Ati waan qajeelummaadhaan namoota bulchituuf,
saboota lafa irraas waan geggeessituuf,
saboonni haa gammadanis; ililchaniis haa faarfatan.
[5] Yaa Waaqayyo, saboonni si haa jajatan;
saboonni hundii si haa jajatan.

[6] Lafti midhaan kenniteerti;
Waaqayyo Waaqni keenyas nu eebbiseera.
[7] Waaqni nu eebbiseera;
handaarri lafaa hundi isa haa sodaatu.

## Faarfannaa Mo'annoo

# Faarfannaa 68

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
[1] Waaqni haa ka'u; diinonni isaas haa bittinnaa'an;
warri isa jibbanis fuula isaa duraa haa baqatan.
[2] Akkuma aarri bittinnaa'u, ati isaan bittinneessi;
akkuma gagaan ibidda duratti baqu,
hamoonni fuula Waaqaa duraa haa badan.
[3] Qajeelonni garuu haa gammadan;
fuula Waaqaa durattis baay'ee haa gammadan;
isaan gammachuudhaan haa ililchan.

[4] Waaqaaf faarfadhaa;
faarfannaa galataa maqaa isaatiif faarfadhaa;
isa duumessaan gulufu sana jajadhaa;
maqaan isaa WAAQAYYOO dha;
fuula isaa durattis baay'ee gammadaa.
[5] Waaqni warra abbaa hin qabneef abbaa,
niitota dhirsoonni irraa du'aniifis falmaa ta'e sun
iddoo jireenya isaa qulqulluu keessa jira.
[6] Waaqni warra kophaa ta'an maatii keessa jiraachisa;
warra hidhamanis mana hidhaatii baasa;
finciltoonni garuu lafa gogaa irra jiraatu.

[7] Yaa Waaqayyo, gaafa ati saba kee dura baate,
gaafa ati gammoojjii keessa dabarte,
[8] fuula Waaqaa, Waaqa Siinaa duratti,

fuula Waaqaa, Waaqa Israa'el duratti,
lafti ni raafamte; samiiwwanis bokkaa roobsan.
9 Yaa Waaqayyo, ati bokkaa baay'ee roobsite;
dhaala kee kan dadhabe illee ni quubsite.
10 Sabni kee achi qubate;
yaa Waaqayyo, ati badhaadhummaa kee keessaa
hiyyeeyyii soorte.

11 Gooftaan dubbii isaa kenne;
dubartoonni dubbii sana labsanis baay'ee dha:
12 "Mootonnii fi loltoonni ariitiin baqatan;
dubartoonni qe'ee oolan boojuu qooddatan.
13 Yoo gola hoolotaa gidduutti argamtan illee,
isin akka gugee qoochoon ishee meetiidhaan uffifamee
baalleen ishee immoo warqee calaqqisuun uffifamee ti."
14 Yommuu Waaqni Waan Hunda Danda'u
mootota achitti bittinneessetti,
Zalmoon irratti cabbiin bu'e.

15 Yaa tulluu Baashaan, yaa tulluu surra qabeessa,
yaa Tulluu Baashaan, yaa tulluu fiixee baay'ee qabu,
16 yaa tulluu fiixee baay'ee qabdu,
ati maaliif tulluu Waaqni bulchuuf filate,
iddoo WAAQAYYO bara baraan jiraatu sana
hinaaffaadhaan ilaalta?
17 Gaariiwwan Waaqaa kuma hedduu dha;
isaan kumaatama yeroo kumaatamaa ti;
Gooftaanis Siinaadhaa gara iddoo qulqulluu dhufeera.
18 Ati yommuu ol gubbaa baatetti
boojuu baay'ee fudhate;
yaa WAAQAYYO, yaa Waaqi, ati achi jiraachuuf jettee,
namoota irraa, finciltoota irraas kennaa fudhatte.

19 Gooftaan guyyuma guyyaan ba'aa keenya baatu,
Waaqni Fayyissaa keenya ta'e sun haa eebbifamu.
20 Waaqni keenya Waaqa fayyinaa ti; du'a jalaa ba'uunis
WAAQAYYO Goofticha biraa dhufa.
21 Waaqni dhugumaan mataa diina isaa,
gubbee mataa warra cubbuu isaaniitti fufanii
kan rifeensa qabu ni caccabsa.
22 Gooftaan akkana jedha; "Ani deebisee Baashaanii isaan nan fida;
tuujuba galaanaa keessaas deebisee isaan nan fida;
23 kunis akka ati dhiiga diinota keetii miilla keetiin borcituuf;
arrabni saroota keetiis akka qooda isaanii qabaatuuf."

24 Yaa Waaqayyo, hiriirri kee mul'ateera;
hiriirri Waaqa kootiitii fi mootii kootii iddoo qulqulluutti ol galeera.
25 Fuula duraan faarfattoota,
dugda duubaan immoo warra muuziiqaa taphatantu ture;
dubartoonni dibbee rukutanis gidduu isaanii turan.
26 Waldaa guddaa keessatti Waaqa jajadhaa;

yaa'ii Israa'el keessattis WAAQAYYOON jajadhaa.
27 Beniyaam gosti xinnichi isaan dura deema;
tuunni ilmaan moototа Yihuudaas achi turan;
ilmaan moototа Zebuuloonii fi Niftaalemis achi turan.

28 Yaa Waaqayyo, humna kee ajaji;
yaa Waaqa keenya, akkuma duraan goote sana
jabina kee nu argisiisi.
29 Sababii mana qulqullummaa keetii kan Yerusaalem keessaatiif
mootonni kennaa siif fidu.
30 Bineensota shambaqqoo keessaa,
karra korommii jabboota sabootaa keessaas ifadhu.
Warra meetii fidan gad deebisi.
Warra waraanatti gammadanis bittinneessi.
31 Ergamoonni Gibxi ni dhufu;
Itoophiyaanis daftee harka ishee Waaqatti bal'ifatti.

32 Yaa mootummoota lafaa, Waaqa faarfadhaa;
faarfannaa galataas Gooftaadhaaf faarfadhaa;
33 isa samiiwwan durii keessa gulufu,
isa sagalee jabaadhaan qaqawweessa'u sana faarfadhaa.
34 Waaqa ulfinni isaa Israa'el irra jiru,
isa miidhaginni isaa
samiiwwan keessa jiru sana humna isaa labsaa.
35 Yaa Waaqayyo, ati iddoo qulqullummaa keetiitti sodaachisaa dha;
Waaqni Israa'el saba isaatiif humnaa fi jabina ni kenna.

Waaqni haa eebbifamu!

## Faaruu Boo'ichaa

# Faarfannaa 69

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Yeedaloo "Daraaraatiin." Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqi, ati na baasi;
bishaan ol dhufee morma na ga'eeraatii.
2 Ani raaree keessa, lafa iddoon miilla dhaabatan
hin jirre keessa seeneera.
Ani tuujuba bishaanii keessa seeneera;
lolaanis narra garagaleera.
3 Ani iyyuudhaan dadhabeera;
laagaan koo babbaqaqeera;
iji koo, Waaqa koo eeggachuudhaan dadhabeera.
4 Warri lafumaa ka'anii na jibban
rifeensa mataa kootii caalaa baay'atu;
warri na ajjeesuu barbaadan,
warri akkasumaan diina koo ta'an baay'ee dha.
Ani akkan waan hin hatin
deebisu dirqameera.

5 Yaa Waaqi, ati gowwummaa koo ni beekta;
yakki koos si duraa hin dhokatu.

6 Yaa Gooftaa, WAAQAYYO Waan Hunda Dandeessu,
warri abdii sirra kaa'atan,
sababii kootiif hin qaana'in;
yaa Waaqa Israa'el, warri si barbaadan,
sababii kootiif hin qaaneffamin.
7 Ani siif jedhee tuffii obseeraatii;
qaaniinis fuula koo haguugeera.
8 Ani obboloota kootti keessummaa,
ilmaan haadha kootiittis alagaa dha;
9 Hinaaffaan mana keetii na guggubeeraatii;
arrabsoon warra si arrabsaniis narra bu'eera.
10 Boo'uu fi soomuun koo,
arrabsoo natti ta'e.
11 Yommuu ani wayyaa gaddaa uffadhetti,
namoonni natti qoosu.
12 Warri karra dura tataa'an natti qoosu;
machooftonnis waa'ee kootiin sirbu.

13 Ani garuu yaa WAAQAYYO,
yeroo ati filattutti sin kadhadha;
yaa Waaqi, jaalala kee guddichaan
fayyina kee kan dhugaatiinis deebii naaf kenni.
14 Akka ani hin liqimfamneef,
raaree keessaa na baasi;
warra na jibban jalaa,
bishaanota gad fagoo keessaas na baasi.
15 Ati akka lolaan na hin fudhanne,
akka tuujubni na hin liqimsine,
akka boollis afaan isaa natti hin cufanne godhi.
16 Yaa WAAQAYYO, gaarummaa jaalala keetiitiin
deebii naaf kenni;
araara kee guddichaanis natti garagali.
17 Fuula kee tajaajilaa kee duraa hin dhokfatin;
waan ani rakkina keessa jiruuf dafiitii deebii naaf kenni.
18 Natti dhi'aadhuutii na furi;
xiiqii diinota kootiif jedhii na baasi.

19 Ati akka ani hammam tuffatamee,
salphifamee fi akka ani qaaneffame ni beekta;
diinonni koo hundinuus fuula koo dura jiru.
20 Arrabsoon garaa koo cabse;
anis abdii kutadheera.
Ani nama garaa naaf laafu nan barbaade; garuu nan dhabe;
nama na jajjabeessus nan barbaade;
garuu tokko illee hin arganne.
21 Nyaata kootti hadhooftuu makan;
akka ani dhuguuf immoo waan dhangaggaa'aa naa kennan.

22 Maaddiin isaanii iddaa isaanitti haa ta'u;
adabaa fi kiyyoo isaanitti haa ta'u.
23 Akka arguu hin dandeenyeef iji isaanii haa haguuggamu;
dugdi isaaniis bara baraan haa goophatu.

24 Dheekkamsa kee isaan irratti dhangalaasi;
aariin kee boba'aan sunis isaan irra haa bu'u.
25 Qe'een isaanii haa onu;
namni dunkaana isaanii keessa jiraatu tokko iyyuu hin hafin.
26 Isaan warra ati madeessite sana ni ari'atuutii;
waa'ee dhukkubbii warra ati miite sanaas ni odeessu.
27 Yakka irratti yakka isaanitti dabali;
isaan gara qajeelumma keetii hin dhufin.
28 Maqaan isaanii kitaaba jireenyaa keessaa haa haqamu;
qajeeltota wajjinis hin galmeeffamin.

29 Ani garuu dhiphinaa fi rakkina keessan jira;
yaa Waaqi, fayyinni kee ol na haa qabu.

30 Ani faarfannaadhaan maqaa Waaqaa nan galateeffadha;
galataanis ulfina nan kennaaf.
31 Kunis sangaa caalaa, korma gaanfaa fi
kottee qabu dhi'eessuu caalaa WAAQAYYOON gammachiisa.
32 Hiyyeeyyiin waan kana arganii ni gammadu;
isin warri Waaqa barbaaddan garaan keessan jiraata haa ta'u!
33 WAAQAYYO rakkattoota ni dhaga'a;
namoota isaa warra hidhamanis hin tuffatu.

34 Samii fi lafti, galaanonnii fi
wanni isaan keessa jiraatan hundinuu isa haa leellissan.
35 Waaqni Xiyoonin ni fayyisaatii;
magaalaawwan Yihuudaas deebisee ni ijaara.
Sabni isaas achi qubata; ni dhaalas.
36 Sanyiin tajaajiltoota isaa magaalattii ni dhaalu;
warri maqaa isaa jaallatanis achi jiraatu.

## Iyya Dhiphinaa

# Faarfannaa 70

*70:1-5 kwf – Far 40:13-17*

Dura bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawiti.
1 Yaa Waaqi, na fayyisuuf ariifadhu;
yaa WAAQAYYO, na gargaaruuf dafii kottu.
2 Warri lubbuu koo galaafachuu barbaadan
hundinuu, haa qaana'an; haa burjaaja'anis;
warri badii koo hawwan hundi
qaana'anii duubatti haa deebi'an.
3 Warri, "Baga! Baga!" anaan jedhan
qaana'anii duubatti haa deebi'an.
4 Warri si barbaadan hundinuu garuu
sitti gammadanii haa ililchan;
warri fayyisuu kee jaallatan,
yeroo hunda, "Waaqni guddaa dha!" haa jedhan.

5 Ani garuu hiyyeessaa fi rakkataa dha;
yaa Waaqi, dafii na qaqqabi.
Ati gargaaraa koo fi fayyisaa koo ti;

yaa WAAQAYYO hin turin.

## Kadhannaa Jaarsaa

# Faarfannaa 71

*71:1-3 kwf – Far 31:1-4*

1 Yaa WAAQAYYO, ani kooluu sitti galeera;
ati gonkumaa na hin qaanessin.
2 Qajeelummaa keetiin na baasi; na oolchis;
gurra kee gara kootti qabi; na fayyisis.
3 Ati kattaa ani kooluu itti galu,
iddoo ani yeroo hunda itti baqadhu naa ta'i;
ati waan kattaa koo fi da'oo koo taateef,
na baraaruuf ajaja kenni.
4 Yaa Waaqa ko, harka nama hamaa,
qabaa nama jal'aatii fi gara jabeessaa keessaa na baasi.

5 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati abdii kootii;
ijoollummaa kootii kaaftees ati Waaqa ani amanadhuu dha.
6 Ani gaafan dhaladhee jalqabee sitti irkadheera;
gadameessa haadha koo keessaas situ na baase.
Ani yeroo hunda sin galateeffadha.
7 Ani namoota baay'eedhaaf mallattoo ta'eera;
ati garuu da'oo koo isa jabaa dha.
8 Afaan koo guyyaa guutuu,
galataa fi ulfina keetiin guutama.

9 Yeroo ani dulloomutti ati na hin gatin;
yeroo humni koo dhumuttis na hin dhiisin.
10 Diinonni koo natti mari'atuutii;
warri na ajjeesuuf riphanii eeggatanis walii wajjin natti mari'atu.
11 Isaanis, "Waaqni isa dhiiseera;
namni isa oolchu tokko iyyuu hin jiruutii
faana bu'aatii qabaa" jedhu.
12 Yaa Waaqi, narraa hin fagaatin;
yaa Waaqa ko, na gargaaruuf dafii kottu.
13 Warri na himatan qaana'anii haa badan;
warri na miidhuu barbaadanis
tuffii fi salphina haa uffatan.

14 Ani garuu yeroo hundumaa abdii qaba;
ittuma caalchisees sin galateeffadha.
15 Ani yoo hammam akka inni ga'u beekuu baadhe illee,
afaan koo waa'ee qajeelummaa keetiitii fi
waa'ee fayyisuu keetii guyyaa guutuu ni odeessa.
16 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ani dhufee
hojii kee humna qabeessa sana nan odeessa;
ani qajeelummaa kee qofa labsa.
17 Yaa Waaqi, ati ijoollummaa kootii jalqabdee na barsiifteerta;
anis hamma har'aatti hojii kee dinqisiisaa sana nan labsa.
18 Yaa Waaqayyo, yeroo ani dulloomee mataan koo arrii ta'utti illee,

hamma ani humna kee dhaloota kanatti,
jabina kees dhaloota dhufuuf jiru hundatti labsuutti,
ati na hin dhiisin.

19 Yaa Waaqi, qajeelummaan kee samiiwwan bira ga'a;
ati waan gurguddaa hojjetteerta;
yaa Waaqi, kan akka keetii eenyu?
20 Ati rakkinaa fi dhiphina baay'ee na argisiifteerta;
ta'us jireenya koo deebiftee ni haaromsita,
qilee lafaa keessaas deebiftee ol na baafta.
21 Ulfina koo ni guddifta;
amma illee na jajjabeessita.

22 Yaa Waaqa ko, ani amanamummaa keetiif,
kiraaraan sin faarfadha;
Yaa Qulqullicha Israa'el
ani kiraaraan faarfannaa galataa siif faarfadha.
23 Yommuu ani faarfannaa galataa siif faarfadhutti, hidhiin koo,
lubbuun koo kan ati furtes guddisanii ni ililchu.
24 Warri na miidhuu barbaadan,
waan qaana'anii burjaaja'aniif
arrabni koo guyyaa guutuu
qajeelummaa kee odeessa.

## Mooticha Abdiin Eegamu

# Faarfannaa 72

Faarfannaa Solomoon.
1 Yaa Waaqi, murtii kee mootiidhaaf,
qajeelumma kee immoo ilma mootiitiif kenni.
2 Innis saba keetiif qajeelummaadhaan murteessa;
hiyyeeyyiifis murtii qajeelaa kenna.

3 Tulluuwwan badhaadhummaa,
gaarran immoo ija qajeelummaa sabaaf haa fidan.
4 Inni hiyyeeyyii saba keessa jiraataniif ni falma;
ijoollee rakkattootaa ni oolcha;
cunqursituu immoo ni barbadeessa.
5 Namoonni hamma aduun jiraattuu fi hamma ji'i jiraatutti,
dhalootaa hamma dhalootaatti si sodaatu.
6 Inni akkuma bokkaa marga haamame irratti roobuu,
akkuma tiifuu lafa jiisuuttis ni dhufa.
7 Bara isaa keessa qajeelummaan ni daraara;
nageenyis hamma ji'i dhabamutti ni baay'ata.

8 Innis galaanaa hamma galaanaatti,
Laga Efraaxiisii hamma moggaa lafaatti ni bulcha.
9 Warri gammoojjii keessa jiraatan fuula isaa duratti ni sagadu;
diinonni isaas biyyoo arraabu.
10 Mootonni Tarshiishii fi mootonni
biyyoota qarqarawwan galaana fagoo gibira isaaf ni fidu;
mootonni Shebaatii fi mootonni Saabaa kennaa ni fiduuf.

11 Mootonni hundinuus isaaf ni sagadu;
saboonni hundinuus isa ni tajaajilu.

12 Inni nama rakkatee gara isaatti iyyu,
hiyyeessaa fi nama gargaarsa hin qabne ni baraaraatii.
13 Nama dadhabaa fi rakkataaf garaa lafa;
nama rakkataas du'a jalaa baasa.
14 Lubbuu isaaniis hacuuccaa fi cunqursaa jalaa ni fura;
dhiigni isaanii fuula isaa duratti gatii guddaa qabaatii.

15 Umuriin isaa haa dheeratu;
warqeen Shebaa isaaf haa kennamu.
Yeroo hunda Waaqa isaaf haa kadhatan;
guyyaa guutuus isa haa eebbisan.
16 Lafa irratti midhaan akka malee haa baay'atu;
fiixee tulluuwwanii irras asii fi achi haa raafamu.
Iji isaa akka Libaanoon haa tolu;
akka marga lafaas haa misu.
17 Maqaan isaa bara baraan haa jiraatu;
Akkuma aduus itti fufee haa jiraatu.

Saboonni hundinuu isaan ni eebbifamu;
jarris eebbifamaa jedhaanii isa waamu.

18 Inni kophaa isaa waan dinqii hojjetu,
WAAQAYYO Waaqni, Waaqni Israa'el haa eebbifamu.
19 Maqaa isaa ulfaataa sanaaf bara baraan galanni haa ta'u;
lafti hundinuu ulfina isaatiin haa guutamu.
Ameen; Ameen.

20 Kadhannaan Daawit ilma Isseey as irratti xumurame.

# Kitaaba Sadaffaa

## 73

*Faarfannaa 73–89*

## Mo'annoo Murtii Qajeelaa

Faarfannaa Asaaf.
1 Dhugumaan Waaqni Israa'eliif,
warra garaan isaanii qulqulluu ta'eef gaarii dha.

2 Ani garuu miilli koo gufachuu ga'ee,
faanni koos mucucaachuu ga'ee ture.
3 Ani yommuun badhaadhummaa hamootaa argetti,
of tuultotatti hinaafeen tureetii.

4 Isaan hin dhiphatan;
dhagni isaaniis fayyaa dha; cimaa dhas.
5 Rakkinni nama biraatti dhufu isaanitti hin dhufu;
isaan akka namoota kaanii dhukkubaan hin dha'aman.

6 Kanaafuu of tuulummaan faaya morma isaanii ti;
fincilas akka wayyaatti uffatu.
7 Iji isaanii coomee alatti dhiibama;
hamminni isaan garaatti yaadan dhuma hin qabu.
8 Isaan ni qoosu; hamminas ni dubbatu;
of tuulaa cunqursaadhaan nama doorsisu.
9 Afaan isaanii samii falmata;
arrabni isaaniis lafa dhaala.
10 Kanaafuu sabni gara isaaniitti dacha'ee
bishaan baay'ee dhuga.
11 Isaanis, "Waaqni akkamitti beekuu danda'aa?
Waaqni Waan Hundaa Olii beekumsa qabaa?" jedhu.

12 Egaa namoonni hamoon akkana;
isaan yeroo hunda yaaddoo malee jiraatu;
badhaadhummaanis guddachaa deemu.

13 Yoos ani akkasumaan garaa koo qulqullinaan eeggadhee
harka koos akkasumaan dhiqadhe kaa!
14 Ani guyyaa guutuu dha'ameera;
ganama ganamas adabameera.

15 Ani utuu, "Akkana nan dubbadha" jedhee jiraadhee
silaa ijoollee kee nan yakkan ture.
16 Garuu yommuu ani waan kana hunda hubachuu yaaletti,
wanni kun hojii dadhabsiisaa natti ta'e.
17 Kunis hamma ani iddoo qulqullummaa Waaqaa seenutti ture;
ergasiis ani galgala isaanii nan hubadhe.

18 Dhugumaan ati iddoo mucucaataa irra isaan dhaabde;
akka isaan kufanii caccabaniifis gad isaan darbatte.
19 Isaan akkamiin guutumaan guutuutti sodaadhaan fudhatamanii
akkuma tasaa barbadaa'an!
20 Akkuma abjuun yeroo namni hirribaa dammaqutti ta'u sana,
atis yaa Gooftaa, akkasuma yommuu ol kaatu,
hawwii garaa isaanii ni busheessita.

21 Yommuu lubbuun koo gadditee
onneen koos waraanamtetti,
22 ani gowwaa fi wallaalaan ture;
fuula kee durattis akka horii nan ta'e.

23 Ta'us ani yeroo hunda si wajjinan jira;
atis harka koo mirgaa ni qabda.
24 Ati gorsa keetiin na qajeelchita;
ergasii immoo ulfinatti na galchita.
25 Ani samii keessaa eenyunan qaba?
Lafa irraas si malee homaa hin fedhu.
26 Foon koo fi onneen koo dadhabuu danda'u;
Waaqni garuu jabina garaa koo ti;
bara baraanis inni qooda koo.

27 Warri sirraa fagoo jiran ni badu;
atis warra siif hin amanamne hunda ni balleessita.
28 Akka ani yaadutti garuu Waaqatti dhi'aachuun gaarii dha;
WAAQAYYO Gooftaa da'oo koo godhadheera;
ani hojii kee hunda nan labsa.

## Boo'icha Waa'ee Diigamuu Mana Qulqullummaa

# Faarfannaa 74

*Maskiilii* Asaaf.
1 Yaa Waaqi, ati maaliif bara baraan nu gatte?
Aariin kee maaliif hoolota ati bobbaafte irratti akka malee boba'a?
2 Saba ati dur filatte,
gosa dhaala keetii, warra ati furte,
Tulluu Xiyoon iddoo ati jiraattes yaadadhu.
3 Tarkaanfii kee gara waan bara baraan diigameetti qajeelfadhu;
diinni waan mana qulqullummaa keessa jiru hunda barbadeesseera.

4 Diinonni kee iddoo qulqulluu kee keessatti bookkisan;
mallattoo isaaniis mallattoo godhanii dhaabbatan.
5 Isaan nama bosona keessatti muka muruuf
qottoo ol fudhatu fakkaatu.
6 Isaanis waan soofame hunda,
qottoo fi burrusaan caccabsan.
7 Isaan mana qulqullummaa kee guban;
lafa jireenya Maqaa keetiis ni xureessan.
8 Garaa isaanii keessatti, "Nu guutumaan guutuutti
isaan barbadeessina!" jedhan.
Iddoo Waaqni biyyattii keessatti itti waaqeffamaa ture hundumas ni guban.
9 Mallattoon dinqii nuu hin kennamne;
si'achi raajiin tokko illee hin jiru;
wanni kun hamma yoomiitti akka turu
nu keessaa namni beeku hin jiru.

10 Yaa Waaqi, hamma yoomiitti diinni sitti qoosa?
Amajaajiinis bara baraan maqaa kee xureessaa?
11 Ati maaliif harka kee, harka kee mirgaa dachaafatta?
Harka kee bobaa jalaa baafadhuutii isaan barbadeessi!

12 Yaa Waaqi, ati durumaa jalqabdee mootii koo ti;
lafa irrattis hojii fayyinaa hojjetta.
13 Situ humna keetiin galaana gargar qoode;
ati bishaan keessattis mataa bineensa jawwee fakkaatuu caccabsite.
14 Situ mataa Lewaataan caccabsee nyaata godhee
uumamawwan gammoojjii jiraataniif kenne.
15 Situ burqaawwanii fi bishaan yaa'uuf karaa bane;
ati laga yeroo hunda yaa'u illee gogsiteerta.
16 Guyyaan kan kee ti; halkanis keetuma;
ati aduu fi ji'a uumteerta.
17 Situ daarii lafaa hunda dhaabe;
ati bonaa fi ganna uumteerta.

18 Yaa WAAQAYYO, akkamitti akka diinni sitti qoosu,
akkamitti akka namoonni gowwoonnis maqaa kee xureessan yaadadhu.
19 Lubbuu gugee keetii dabarsitee bineensa bosonaatti hin kennin;
jireenya saba kee hiyyoomee bara baraan hin irraanfatin.
20 Kakuu kee eegi;
iddoon lafaa dukkanaa'aan hundinuu
gooliidhaan guutameeraatii.
21 Warri cunqurfaman qaana'anii duubatti hin deebi'in;
hiyyeeyyii fi rakkattoonni maqaa kee haa galateeffatan.

22 Yaa Waaqi ka'i; dubbii kees falmadhu;
akka gowwoonni guyyaa guutuu sitti qoosan yaadadhu.
23 Dhaadachuu diinota keetii, bookkisuu diina keetii
kan gargar hin cinne sana hin dagatin.

## Abbaa Murtii Addunyaa Hundaa

# Faarfannaa 75

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Yeedaloo, "Hin balleessin" jedhuun faarfatame. Faarfannaa Asaaf.

1 Yaa Waaqi, nu si galateeffanna;
sababii Maqaan kee dhi'oo ta'eef galata siif galchina;
namoonni waa'ee dinqii hojii keetii odeessu.

2 Ati akkana jetta; "Ani yeroo murteeffame nan filadha;
kan qajeelummaadhaan muru ana.
3 Yommuu laftii fi sabni ishee hundi raafamanitti,
kan utubaa ishee jabeessee qabu ana.
4 Ani of tuultotaan akkana nan jedha; 'Of hin jajinaa.'
Hamootaanis, 'Gaanfa keessan ol hin qabatinaa.
5 Gaanfa keessan samiitti hin kaasinaa;
morma keessan dheereffattanii hin dubbatinaa.' "

6 Ulfinni ba'a biiftuutii yookaan lixa biiftuutii
yookaan lafa onaatii hin dhufuutii.
7 Garuu kan murtii kennu Waaqa;
inni nama tokko gad buusa; kaan immoo ol baasa.
8 Harka WAAQAYYOO keessa,
xoofoo wayinii urgooftuudhaan walitti makame
kan hoomachaan guutame tokkotu jira;
inni wayinii sana gad naqa;
hamoonni lafaa hundinuu utuu siicoo isaa illee hin hambisin
xuruurfatanii dhugu.

9 Ani garuu bara baraan waan kana nan labsa;
Waaqa Yaaqoobis nan faarfadha.
10 Gaanfa hamoota hundaa nan caccabsa;
gaanfi qajeeltotaa garuu ol ol jedha.

## Faarfannaa Waaqa Sodaatamuu Qabuuf Faarfatame

# Faarfannaa 76

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Mi'a Ribuutiin. Faarfannaa Asaaf.

1 Yihuudaa keessatti Waaqni beekamaa dha;
maqaan isaas Israa'el keessatti guddaa dha.
2 Dunkaanni isaa Saalem keessa,
iddoon jireenya isaa Xiyoon keessa jira.
3 Innis achitti xiyya boba'uu fi gaachana, goraadee fi
meeshaawwan waraanaa caccabse.

4 Ati ifa uffattee miidhagdeerta;
ati tulluuwwan bara baraa caalaa Surra qabeessa.
5 Gootonni booji'amaniiru;
hirribaanis fudhatamaniiru;
duultota keessaas namni tokko iyyuu
harka sochoofachuu hin dandeenye.
6 Yaa Waaqa Yaaqoob, ifannaa keetiin fardeenii
fi warri fardeen yaabbatan of wallaalaniiru.

7 Si'i qofatu sodaatamuu qaba.
Yommuu ati aartu eenyutu fuula kee dura dhaabachuu danda'aa?
8 Ati samii irraa murtii kennite;
laftis ni sodaatte; ni cal'iftes;
9 yaa Waaqi, wanni kunis yommuu ati murtii kennuudhaaf,
rakkattoota biyyattii fayyisuuf kaatetti ta'e.
10 Dheekkamsi ati namatti dheekkamtu dhugumaan ulfina siif fida;
warra dheekkamsa kee irraa hafanis ni hidhatta.

11 WAAQAYYO Waaqa keessaniif wareegaa; wareegichas guuttadhaa;
warri naannoo isaa jiraatan hundinuus
Waaqa sodaatamuu qabu sanaaf kennaawwan haa fidan.
12 Inni hafuura bulchitootaa ni cabsa;
mootonni lafaas isa sodaatu.

## Seenaa Israa'el Yaaduu

# Faarfannaa 77

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Yeduutuuniif. Faarfannaa Asaaf.
1 Ani gargaarsaaf gara Waaqaatti nan iyyadhe;
ani akka Waaqni na dhaga'uuf nan iyyadhe.
2 Yeroo rakkina kootiitti Gooftaa nan barbaaddadhe;
halkanis utuu hin dadhabin harka koo nan diriirfadhe;
lubbuun koos jajjabaachuu didde.

3 Yaa Waaqi, ani yommuun si yaadadhu nan aada;
ani irra deddeebi'ee nan yaade; hafuurri koos ni laafe.
4 Ati akka iji koo hin dunuunfanne goote;
ani akka malee lubbamee dubbachuu iyyuu dadhabe.
5 Ani waa'ee bara durii,
waa'ee waggoota durii duriis nan yaade;
6 ani halkaniin faarfannaa koo nan yaadadhe.
Ani irra deddeebi'ee na yaade;
hafuurri koos akkana jedhee qorate:

7 "Gooftaan bara baraan nama gataa?
Inni deebi'ee garaa hin laafuu?

8 Araarri isaa bara baraan badee?
Waadaan isaa bara baraan guutamuu dhabee?
9 Waaqni arjoomuu irraanfateeraa?
Inni aariidhaan gara laafina isaa dhiiseeraa?"

10 Anis, "Harki mirgaa kan Waaqa Waan Hundaa Olii
jijjiirameera jedhee yaaduun koo, dadhabbii koo ti" nan jedhe.
11 Ani hojii WAAQAYYOO nan yaadadha;
dhugumaan dinqii kee kan durii nan yaadadhaa.
12 Ani waan ati hojjette hunda irra deddeebi'ee nan yaada;
waa'ee hojii keetii illee nan dubbadha.

13 Yaa Waaqi, karaan kee qulqulluu dha.
Waaqni guddaan akka Waaqa keenyaa eessa jira?
14 Ati Waaqa hojii dinqii hojjettuu dha;
saboota gidduuttis humna kee ni argisiifta.
15 Irree kee cimaadhaan saba kee,
sanyii Yaaqoobii fi sanyii Yoosef furteerta.

16 Yaa Waaqi, bishaanonni si argan;
bishaanonni si arganii sodaatan;
tuujubawwan ni hollatan.
17 Duumessi bishaan gad dhangalaase;
samiiwwan ni qaqawweessa'an;
xiyyi kees qixa hundaan balaqqise.
18 Bakakkaan kee bubbee hamaa keessaa dhaga'ame;
balaqqeesi kee addunyaa ibse;
laftis hollattee sochoote.
19 Daandiin kee galaana keessa,
karaan kee immoo bishaanota gurguddaa keessa ba'a;
garuu faanni kee hin argamne.

20 Ati harka Museetii fi harka Arooniin,
saba kee akka bushaayeetti geggeessite.

## Seenaa Saba Israa'el

# Faarfannaa 78

*Maskiilii* Asaaf.
1 Yaa saba ko, barsiisa koo dhaga'aa;
dubbii afaan koo dhaggeeffadhaa.
2 Ani fakkeenyaan afaan koo nan banadha;
waan durumaa jalqabee dhokfames nan dubbadha.
3 Kunis waanuma nu dhageenyee fi waanuma nu beeknu,
waan abbootiin keenya nutti himanii dha.
4 Nus waan kana ijoollee isaanii duraa hin dhoksinu;
hojii WAAQAYYOO ulfina qabeessa sana,
humna isaatii fi dinqii inni hojjete,
dhaloota itti aanutti ni himna.
5 Inni Yaaqoobiif sirna dhaabe;
Israa'eliif immoo seera kenne;

waan kana illee akka isaan
ijoollee isaanii barsiisaniif,
abbootii keenya ajaje;
6 kunis akka dhaloonni itti aanu beeku,
akka ijoolleen amma iyyuu hin dhalatin beekan,
isaanis akka ijoollee isaaniitti dabarsanii himaniif.
7 Yoos isaan Waaqa amanatu;
ajaja isaas ni eegu malee hojii isaa hin irraanfatan.
8 Isaan akka abbootii isaanii,
akka dhaloota mata jabeessaa fi fincilaa,
warra garaan isaanii Waaqaaf hin ajajamnee,
akka warra hafuurri isaanii isaaf hin amanamin sanaa hin ta'an.

9 Namoonni Efreem xiyya qabatanii turan;
ta'us gaafa lolaa duubatti deebi'an.
10 Isaan kakuu Waaqaa hin eegne;
seera isaattis buluu didan.
11 Isaan hojii inni hojjete,
dinqii inni isaanitti argisiises ni irraanfatan.
12 Inni fuula abbootii isaanii duratti,
biyya Gibxi kutaa Zoo'aanitti waan nama dinqisiisu hojjete.
13 Inni galaana gargar qoodee gidduun isaan dabarse;
bishaan sanas akkuma keenyan manaa dhaabachiise.
14 Guyyaa duumessaan, halkan guutuu immoo
ifa ibiddaatiin isaan geggeesse.
15 Inni gammoojjii keessatti kattaa dayyaasee
bishaan akka galaanaa baay'atu isaanii kenne.
16 Kattaa keessaa burqaa burqisiisee
akka bishaan akkuma lagaatti yaa'u godhe.

17 Isaan garuu gammoojjii keessatti Waaqa Waan Hundaa Oliitti fincilan;
ittuma fufaniis isatti cubbuu hojjetan.
18 Isaan nyaata dharra'anii, "Fidi" jechuudhaan
beekumsa Waaqaa qoran.
19 Akkana jedhanii Waaqa hamatan;
"Waaqni gammoojjii keessatti maaddii qopheessuu danda'aa?
20 Inni kattaa rukunnaan bishaan humnaan keessaa burqe;
burqaan guutee irraan dhangala'e.
Garuu inni nyaata nuu kennuu danda'aa?
Saba isaatiifis foon kennuu danda'aa?"
21 WAAQAYYO yommuu waan kana dhaga'etti baay'ee aare;
Yaaqoob irratti ibiddi isaa ni qabsiifame;
dheekkamsi isaas Israa'elitti dhufe;
22 isaan Waaqa hin amananneetii;
fayyisuu isaattis hin amanne.
23 Inni garuu samii gubbaatiif ajaja kenne;
balbala samiis ni bane;
24 akka isaan nyaataniif mannaa gad roobseef;
midhaan samiis isaaniif kenne.
25 Namoonni buddeena ergamoota Waaqayyoo nyaatan;
inni waan isaan nyaatanii quufan ergeef.

26 Inni akka bubbeen ba’a biiftuu samii keessaa bubbisu godhe;
bubbee kibbaas humna ofii isaatiin oofe.
27 Foon akkuma awwaaraatti, simbirroota barrisanis
akkuma cirracha galaanaatti gad isaaniif roobse.
28 Innis akka isaan qubata isaanii keessatti
naannoo dunkaanota isaaniitti gad harca’an godhe.
29 Isaanis nyaatanii quufan;
inni waan isaan dharra’an isaaniif kenneeraatii.
30 Garuu utuu isaan nyaata dharra’an sana hin quufin,
utuma nyaanni sun afaan isaanii keessa jiruu,
31 dheekkamsi Waaqaa isaanitti dhufe;
innis isaan keessaa warra jajjabeeyyii galaafate;
dargaggeeyyii Israa’elis ni fixe.

32 Isaan waan kana hunda irra darbanii cubbuu hojjechuutti fufan;
dinqii isaattis hin amanne.
33 Kanaafuu inni akka barri isaanii faayidaa malee darbu,
akka waggoonni isaaniis sodaadhaan dhuman godhe.
34 Yeroo Waaqni isaan ajjeese kamitti iyyuu,
isaan isa barbaaddatan;
isaan ammas fedhiidhaan gara isaatti deebi’an.
35 Akka Waaqni Kattaa isaanii ta’e,
akka Waaqni Waan Hundaa Olii Furii isaanii ta’e yaadatan.
36 Isaan garuu afaan isaaniitiin isa saadan;
arraba isaaniitiinis isa soban;
37 garaan isaanii isaaf amanamaa hin turre;
isaan kakuu isaatiif hin amanamne.
38 Inni garuu araara qabeessa waan ta’eef,
cubbuu isaanii ni dhiiseef malee isaan hin fixne.
Inni yeroo yerootti aarii isaa ittifate;
dheekkamsa isaa hundaas hin kakaafne.
39 Innis akka isaan nama du’a hin oolle,
qilleensuma darbu kan deebi’ee hin dhufne ta’an yaadate.

40 Isaan hammam gammoojjii keessatti isatti fincilanii
gammoojjii keessattis isa gaddisiisan
41 Isaan ammumaa amma Waaqa qoran;
Qulqullicha Israa’el sanas ni aarsan.
42 Isaan humna isaa yookaan guyyaa inni itti
diinota isaanii jalaa isaan baase hin yaadanne.
43 Guyyaa inni itti biyya Gibxi keessatti mallattoo isaa,
kutaa Zoo’aan keessatti immoo dinqii isaa argisiise isaan hin yaadanne.
44 Inni lageen isaanii dhiigatti geeddare;
isaanis burqaawwan isaanii dhuguu hin dandeenye.
45 Innis tuuta tisiisaa kan isaan balleessu,
fattee isaan barbadeessu itti erge.
46 Midhaan isaanii ilmaan hawwaannisaatiif,
bu’aa dadhabbii isaanii immoo hawwaannisaaf kenne.
47 Muka wayinii isaanii cabbiidhaan,
harbuu isaanii immoo dhaamocha hamaan dha’e.
48 Loon isaanii cabbiif,
horii isaanii immoo bakakkaaf dabarsee kenne.

49 Inni ergamoota badiisa fidan isaanitti erguudhaan
aarii isaa sodaachisaa, dheekkamsa isaa,
dallansuu isaatii fi rakkoo isaanitti gad lakkise.
50 Inni aarii isaatiif daandii qopheesse;
lubbuu isaanii dabarsee dha'ichatti kenne malee
du'a isaan hin oolchine.
51 Hangafoota Gibxi hunda,
ilmaan jalqabatti dhalatanis dunkaana Haam keessatti dha'e.
52 Saba isaa garuu akkuma nama bushaayee bobbaasuutti achii baase;
akkuma hoolaas gammoojjii keessa isaan geggeesse.
53 Inni nagaadhaan isaan geggeesse;
kanaafuu isaan homaa hin sodaanne;
diinota isaanii garuu galaanatu liqimse.
54 Innis gara daarii biyya isaa qulqulluutti,
gara biyya gaaraa kan harki isaa mirgaa fudhateetti isaan galche.
55 Inni ormoota isaan duraa ari'e;
lafa jaraas dhaala godhee isaanii qoode;
gosa Israa'elis dunkaana isaanii keessa qubachiise.

56 Isaan garuu Waaqa qoran;
Waaqa Waan Hundaa Oliitti fincilan;
ajaja isaas hin eegne.
57 Akkuma abbootii isaanii duubatti deebi'an; amanamuus ni didan;
akka iddaa micciiramaattis jajal'atan.
58 Isaan iddoowwan sagadaa isaanii kanneen gaarran irraatiin isa aarsan;
waaqota isaanii tolfamoodhaanis hinaaffaadhaaf isa kakaasan.
59 Waaqnis yeroo isaan dhaga'etti akka malee dheekkame;
guutumaan guutuuttis Israa'elin gate.
60 Innis iddoo jireenya isaa kan Shiiloo keessaa,
dunkaana inni namoota gidduu dhaabbate sanas ni dhiise.
61 Humna isaa boojuutti,
ulfina isaa immoo harka diinaatti dabarsee kenne.
62 Saba isaa dabarsee goraadeef kenne;
handhuuraa isaattis akka malee dheekkame.
63 Dargaggoota isaanii ibiddatu fixe;
durboota isaaniitiifis sirbi heerumaa hin sirbamne;
64 luboonni isaanii goraadeedhaan dhuman;
niitonni dhirsoonni irraa du'an immoo boo'uu hin dandeenye.

65 Gooftaanis akkuma waan hirribaa dammaquutti,
akkuma goota sababii wayiniitiin iyyuuttis dammaqe.
66 Inni diinota isaa rukutee duubatti deebise;
qaanii bara baraa keessas isaan buuse.
67 Dunkaanota Yoosef ni tuffate;
gosa Efreemis hin filanne;
68 inni garuu gosa Yihuudaa,
Tulluu Xiyoon kan jaallatu sana ni filate.
69 Mana qulqullummaa isaa akka samii ol dheeraatti,
akka lafa bara baraan hundeesseettis ijaare.
70 Inni Daawit garbicha isaa ni filate;
dallaa hoolotaa keessaas isa waammate;

71 akka inni saba isaa Yaaqoobin,
handhuuraa isaa Israa'elin tiksuuf jedhee
hoolota tiksuu irraa isa fide.
72 Daawitis garaa qajeelaadhaan isaan tikse;
ogummaa harka isaatiinis isaan dura bu'e.

## Faaruu Boo'ichaa Biyyoolessaa

# Faarfannaa 79

Faarfannaa Asaaf.
1 Yaa Waaqi, namoonni ormaa handhuuraa kee qabataniiru;
mana qulqullummaa kee qulqullicha xureessaniiru;
Yerusaaleminis barbadeessaniiru.
2 Akka isaan nyaata isaaniif ta'aniif,
reeffa garboota keetii allaattii samiitiif,
foon qulqulloota keetii immoo bineensota lafaatiif kennaniiru.
3 Dhiiga isaaniis naannoo Yerusaalemitti
akkuma bishaanii dhangalaasan;
namni isaan awwaalu tokko illee hin argamne.
4 Ollaa keenya biratti maqaan nu badeera;
warra naannoo keenya jiran birattis nama tuffii fi kolfaa taane.

5 Yaa Waaqayyo, kun hamma yoomiitti?
Ati hamma bara baraatti aartaa?
Hinaaffaan kees hamma yoomiitti akka ibiddaa boba'a?
6 Dheekkamsa kee sana saboota si hin beekne irratti,
mootummoota maqaa kee hin waammanne irratti
gad dhangalaasi;
7 isaan Yaaqoobin liqimsaniiruutii;
iddoo jireenya isaas balleessaniiru.

8 Cubbuu abbootii keenyaa nutti hin herregin;
waan nu baay'ee gad deebifamneef,
araarri kee dafee nu bira haa ga'u.
9 Yaa Waaqi Fayyisaa keenya,
ulfina maqaa keetiitiif jedhii nu gargaari;
maqaa keetiif jedhiitii nu oolchi;
cubbuu keenya illee nuu dhiisi.
10 Ormoonni maaliif,
"Waaqni isaanii eessa jira?" jedhu ree?

Dhiiga tajaajiltoota keetii kan dhangalaafame sanaaf,
akka haaloo baaftu ija keenya duratti saboota gidduutti beeksisi.
11 Aaduun hidhamtootaa fuula kee dura haa ga'u;
jabina irree keetiitiin warra duuti itti murame oolchi.
12 Yaa Gooftaa, arraba isaan ittiin si arrabsan,
dachaa torba godhiitii ollaa keenyatti deebisi.
13 Yoos nu sabni kee, hoolonni tika keetii,
bara baraan si jajanna;
dhalootaa hamma dhalootaattis,
galata kee ni odeessina.

## Haaromfama Israa'eliif Waaqa kadhachuu

# Faarfannaa 80

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Yeedaloo, "Daraaraa Kakuutiin" Faarfatame. Faarfannaa Asaaf.

1 Yaa tiksee saba Israa'el,
kan akkuma bushaayeetti Yoosefin geggeessitu nu dhaga'i;
ati kan kiirubeel gidduu teessoo irra teessu, ifiitii mul'adhu.
2 Fuula Efreem, Beniyaamii fi Minaasee duratti
humna kee sochoosi; kottuutii nu fayyisi.

3 Yaa Waaqi, iddoo keenyatti nu deebisi;
akka fayyinuufis fuula kee nurratti ibsi.

4 Yaa WAAQAYYO, Waaqa Waan Hunda Dandeessu,
ati hamma yoomiitti kadhannaa saba keetiitti aarta?
5 Ati buddeena imimmaanii isaan nyaachifte;
imimmaan waciitii guutuus isaan obaafte.
6 Ati akka olloonni keenya nu tuffatan goote;
diinonni keenyas nutti qoosu.

7 Yaa Waaqa Waan Hunda Dandeessu,
iddoo keenyatti nu deebisi;
akka nu fayyinuufis fuula kee nurratti ibsi.

8 Ati muka wayinii biyya Gibxii buqqiftee fidde;
ormootas ariitee muka sana dhaabde.
9 Mukichaafis lafa qopheessite;
mukni sunis hidda gad fageeffatee biyyattii guute.
10 Tulluuwwan gaaddisa isaatiin,
birbirsawwan gurguddaanis
dameewwan isaatiin haguugaman.
11 Innis dameewwan isaa gara Galaanaatti,
lata isaas hamma Lagaatti diriirfate.

12 Yoos ati maaliif akka namni achiin darbu hundinuu
ija isaa ciratu gochuuf jettee dallaa isaa diigde ree?
13 Kormi booyyee bosona keessaa ba'ee isa ni balleessa;
bineensi dirrees isa ni nyaata.
14 Yaa Waaqa Waan Hunda Dandeessu,
si kadhannaa gara keenyatti deebi'i!
Samii irraa gad ilaalii argi!
Muka wayinii kana eegi;
15 mukni kun muka wayinii kan harki kee mirgaa dhaabee dha;
biqiltuu ati ofii keetiif guddifattee dha.

16 Wayiniin kee ciramee ibiddaan gubameera;
sabni kees dheekkamsa keetiin bada.
17 Harki kee namicha karaa harka kee mirgaa jiru irra,
ilma namaa kan ati ofii keetiif guddifatte irra haa boqotu.
18 Yoos nu sirraa hin garagallu;
jireenya nuu kenni; nus maqaa kee ni waammannaa.

19 Yaa WAAQAYYO, Waaqa Waan Hunda Dandeessu
iddoo keenyatti nu deebisi;
akka nu fayyinuufis fuula kee nurratti ibsi.

## Ayyaana Daasiitiif

# Faarfannaa 81

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Asaaf Kan *Gitiitiidhaan* Faarfatamu.

1 Waaqa jabina nuu ta'eef gammachuudhaan faarfadhaa;
Waaqa Yaaqoobiitiif gammachuudhaan ililchaa!
2 Faarfachuu jalqabaa; dibbees rukutaa;
baganaa fi kiraara sagalee gaarii qabu rukutaa.

3 Yeroo Baatiin dhalattu, yommuu ji'i goobanutti,
guyyaa ayyaana keenyaa malakata afuufaa;
4 kun seera Israa'eliif kenname,
ajaja Waaqa Yaaqoob.
5 Inni yeroo biyya Gibxi dha'uuf ba'etti,
waan kana Yoosefiif seera godhee dhaabe.

Anis afaan duraan hin beekin tokko dhaga'e.

6 Innis akkana jedhe;
"Ani gatiittii isaanii irraa ba'aa buuseera;
harki isaanis guuboo baachuu jalaa ba'e.
7 Ati dhiphina kee keessatti na waammatte; anis sin oolche;
anis lafa bakakkaan itti dhokatu keessaa deebii siifin kenne;
bishaan Mariibaa birattis sin qore.

8 "Yaa saba koo dhaga'i; ani siin akeekkachiisa;
yaa Israa'el ati utuu na dhaggeeffate!
9 Waaqni ormaa tokko iyyuu isin gidduu hin jiraatin;
ana malee waaqa biraa hin waaqeffatin.
10 Ani WAAQAYYO Waaqa kee,
kan Gibxii baasee isin fidee dha.
Afaan kee bal'isii banadhu; ani nan guutaa.

11 "Sabni koo garuu na hin dhaggeeffanne;
Israa'el anaaf hin bulle.
12 Kanaafuu ani akka isaan karaa fedhii isaanii deemaniif
dabarsee mata jabina isaaniitti isaan kenne.

13 "Utuu sabni koo na dhaggeeffatee,
utuu Israa'el karaa koo irra deemee jiraatee,
14 ani silaa akkam dafee diinota isaanii jilbeenfachiisee
harka koos amajaajota isaaniitti nan kaasa ture!
15 Warri WAAQAYYOON jibban fuula isaa duratti ni gugguufu;
adabbiin isaaniis bara baraan itti fufa.
16 Ani garuu qamadii qulqulluu isin soora;
damma kattaa keessaa baafames isinan quubsa."

## Abbootii Murtii Kanneen Murtii Jal'isan

# Faarfannaa 82

Faarfannaa Asaaf.
1 Waaqni, waldaa waaqotaa gidduu dhaabata;
"waaqota" gidduuttis murtii kenna; akkanas jedha:

2 "Isin hamma yoomiitti seera jal'iftu?
Hamma yoomiittis jal'ootaaf dhaabattu?
3 Dadhabdootaa fi ijoollee abbaa hin qabneef murtii qajeelaa kennaa;
mirga hiyyeeyyiitii fi cunqurfamtootaas eegsisaa.
4 Warra dadhabaa fi rakkattoota baraaraa;
harka jal'ootaatiis isaan baasaa.

5 "Isaan homaa hin beekan; homaa illee hin hubatan.
Isaan dukkana keessa jiraatu;
hundeen lafaa hundinuu ni raafame.

6 "Anis, 'Isin, "waaqota;"
hundi keessan ilmaan Waaqa Waan Hundaa Olii ti' jedheera.
7 Ta'us isin akkuma namatti ni duutu;
akkuma bulchitoota kamii iyyuu ni kuftu."

8 Yaa Waaqi ka'i; lafatti muri;
sabni hundinuu kan keetiitii.

## Kadhannaa Diinota Israa'el Irratti Dhi'aate

# Faarfannaa 83

Faarfannaa Asaaf.
1 Yaa Waaqi gab hin jedhin;
yaa Waaqi, hin cal'isin;
akkasumattis hin dhiisin.
2 Diinonni kee akkam akka kaka'an,
warri si jibbanis akkam akka mataa ol qabatan ilaali.
3 Isaan saba keetti daba karoorfatu;
warra ati eegdutti mari'atu.
4 Isaanis, "Kottaa akka maqaan Israa'el lammata hin yaadatamneef,
akka isaan saba hin taaneef isaan barbadeessinaa" jedhu.

5 Isaan yaada tokkoon walii galu;
sittis ni gurmaa'u;
6 isaanis dunkaanota Edoom, Ishmaa'eeloota,
Mo'aabii fi gosa Aggaar,
7 Gebaal, Amoonii fi Amaaleq,
Filisxeemii fi namoota biyya Xiiroos wajjin turan.
8 Warri Asooriis, ilmaan Looxiitiif irree jabaa
ta'uudhaaf isaanitti makaman.

9 Ati akkuma Midiyaanin goote,
akkuma laga Qiishooniitti Siisaaraa fi Yaabiinin goote sana isaan godhi;
10 isaan Eendooritti dhumanii
akkuma kosii lafaa ta'an.
11 Gurguddoota isaanii akka Hereebiitii fi Ze'eeb,
ilmaan mootota isaanii immoo akka Zebaa fi Zalmunaa godhi;

12 isaan warra, “Kottaa, lafa tika Waaqaa fudhannee
kan dhuunfaa keenyaa godhannaa” jedhanii dha.

13 Yaa Waaqa ko, akka awwaara bubbeen fudhatuu,
akka habaqii qilleensi bittinneessuu isaan godhi.
14 Akkuma ibiddi bosona balleessu,
yookaan akkuma arrabni ibiddaa tulluuwwan gubu,
15 atis akkasuma aarii keetiin isaan gugsi;
bubbee keetiin isaan sodaachisi.
16 Yaa WAAQAYYO, akka isaan maqaa kee barbaaddataniif,
fuula isaanii qaaniin haguugi.

17 Isaan yeroo hunda qaana’anii haa dhiphatan;
salphinaanis haa badan.
18 Isaan akka ati kan maqaan kee WAAQAYYO ta’e sun qofti,
lafa hundumaa irratti Waaqa Waan Hundaa Olii taate haa beekan.

## Faarfannaa Yeroo Mana Qulqullummaa Dhaqan Faarfatamu

# Faarfannaa 84

Dura Bu’aa Faarfattootaatiif. Kan *Gitiitiidhaan* Faarfatamu. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.

1 Yaa WAAQAYYOO Waan Hunda Dandeessu,
iddoon ati jiraattu akkam namatti tola!
2 Lubbuun koo oobdiiwwan WAAQAYYOO hawwiti;
akka malees itti gaggabdi;
onneen koo fi foon koo
Waaqa jiraataadhaaf ililleedhaan ni faarfatu.
3 Yaa WAAQAYYOO Waan Hunda Dandeessu,
Mootii koo fi Waaqa ko,
iddoo aarsaa keetii biratti, dimbiitiin iddoo jireenyaa,
girrisnis ofii isheetiif man’ee cuucii ishee keessa kaa’attu argatti.
4 Warri mana kee keessa jiraatan eebbifamoo dha;
isaan yeroo hundumaa si jajatuutii.

5 Warri sirraa jabina argatan,
kanneen garaa isaaniitiin karaa kee yaadan eebbifamoo dha.
6 Isaan yommuu Sulula Baakaa keessa darbanitti,
iddoo sana lafa bishaan keessaa burqu godhatu;
bokkaan jalqabaas eebba itti dhangalaasa.
7 Isaan hamma Xiyoon keessatti fuula Waaqaa duratti mul’atanitti,
jabina irraa gara jabinaatti ni darbu.

8 Yaa WAAQAYYO, Waaqa Waan Hunda Dandeessu,
kadhannaa koo dhaga’i;
yaa Waaqa Yaaqoob na dhaggeeffadhu.
9 Yaa Waaqayyo, gara gaachana keenyaa ilaali;
fuula dibamaa kee sanaas ilaali.

10 Guyyaa kuma tokko iddoo biraa jiraachuu irra,
guyyaa tokko oobdii keetii irra ooluu wayya;

dunkaana hamootaa keessa jiraachuu irra,
eegduu balbala mana Waaqa koo ta'uu naa wayyya.
11 WAAQAYYO Waaqni aduu fi gaachanaatii;
WAAQAYYO surraa fi ulfina ni kenna;
inni toloota waan gaarii hin dhowwatu.

12 Yaa WAAQAYYOO Waan Hunda Dandeessu,
namni si amanatu eebbifamaa dha.

## Kadhannaa Nagaaf Dhi'aate

# Faarfannaa 85

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.
1 Yaa WAAQAYYO, ati lafa keetiif arjoomteerta;
boojuu Yaaqoobis deebifteerta.
2 Ati balleessaa uummata keetii dhiifteertaaf;
cubbuu isaanii hundumaas dhoksiteerta.
3 Dheekkamsa kee hunda fageessiteerta;
aarii kee sodaachisaa sana irraas deebiteerta.

4 Yaa Waaqa Fayyisaa keenya, iddoo keenyatti nu deebisi;
dheekkamsa kees nurraa qabi.
5 Ati bara baraan nutti aartaa? Dheekkamsa kee
dhaloota tokko irraa dhaloota kaanitti dabarsitaa?
6 Akka sabni kee sitti gammaduuf,
ati lubbuu nutti hin deebiftuu?
7 Yaa WAAQAYYO, araara kee nutti mul'isi;
fayyina kees nuu kenni.

8 Ani waan WAAQAYYO Waaqni jedhu nan dhaggeeffadha;
inni saba isaa qulqullootaaf nagaa abdachiisa;
isaan garuu gara gowwummaatti hin deebi'in.
9 Akka ulfinni isaa lafa keenya irra jiraatuuf,
fayyisuun isaa dhugumaan warra isa sodaatanitti dhi'oo jira.

10 Jaalallii fi amanamummaan wal ga'an;
qajeelummaa fi nagaan wal dhungatan.
11 Amanamummaan lafa keessaa burqa;
qajeelummaan immoo samii irraa gad ilaala.
12 WAAQAYYO dhugumaan waan gaarii ni kenna;
lafti keenyas midhaan ishee ni kenniti.
13 Qajeelummaan fuula isaa dura deema;
miilla isaatiifis karaa qopheessa.

## Kadhannaa Yeroo Rakkinaa

# Faarfannaa 86

Kadhannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, waan ani hiyyeessaa fi rakkataa ta'eef,
na dhaga'iitii deebii naa kenni.
2 Ani sitti of kenneeraatii lubbuu koo eegi.
Ati Waaqa koo ti;
garbicha kee kan si amanatu oolchi.

3 Yaa Gooftaa na maari;
ani guyyaa guutuu sin waammadhaatii.
4 Lubbuu garbicha keetii gammachiisi;
yaa Gooftaa, ani lubbuu koo gara keetti oli nan fuudhaatii.

5 Yaa Gooftaa ati gaarii dha; dhiifamas namaa goota;
warra si waammatan hundaafis jaalalli kee guddaa dha.
6 Yaa WAAQAYYO, kadhannaa koo dhaga’i;
iyya waammata koos dhaggeeffadhu.
7 Ani guyyaa rakkina kootiitti sin waammadha;
ati deebii naa kennitaatii.

8 Yaa Gooftaa, waaqota keessaa kan akka keetii hin jiru;
hojiin hojii keetiin wal qixxaatu tokko iyyuu hin jiru.
9 Yaa Gooftaa, saboonni ati uumte hundinuu dhufanii,
fuula kee duratti ni sagadu;
maqaa keetiifis ulfina fidu.
10 Ati guddaa fi kan hojii dinqisiisaa hojjettuu dha;
Waaqni suma qofa.

11 Yaa WAAQAYYO, karaa kee na barsiisi;
anis dhugaa keetiin nan bula;
akka ani maqaa kee sodaadhuuf,
garaa gargar hin qoodamne naa kenni.
12 Yaa Waaqa koo Gooftaa, ani garaa koo guutuudhaan sin galateeffadha;
maqaa kee illee bara baraan nan ulfeessa.
13 Jaalalli ati naa qabdu guddaadhaatii;
lubbuu koo dhidhima sii’ool keessaa baafteerta.

14 Yaa Waaqi, of tuultonni natti ka’aniiru;
tuunni finciltootaa, namoonni si hin sodaanne
lubbuu koo galaafachuu barbaadu.
15 Yaa Gooftaa, ati garuu Waaqa garaa laafessaa fi arjaa dha;
daftee hin aartu; jaalallii fi amanamummaan kee dhuma hin qabu.
16 Gara kootti deebi’iitii na maari;
jabina kee tajaajilaa keetii kenni;
ilma garbittii keetiis oolchi.
17 Akka diinonni koo arganii qaana’aniif,
mallattoo gaarummaa keetii naa kenni;
yaa WAAQAYYO, ati na gargaartee na jajjabeessiteertaatii.

## Xiyoon, Haadha Sabootaa

# Faarfannaa 87

Faarfannaa Ilmaan Qooraahi.
1 Hundeen magaalaa isaa tulluu qulqulluu irra jira.
2 WAAQAYYO iddoo jireenya Yaaqoob hunda caalaa,
karrawwan Xiyoon jaallata.

3 Yaa magaalaa Waaqaa,
waa’ee keetiif wanni kabajamaan akkana jedhamee ni dubbatama:
4 “Ani Ra’aabii fi Baabilonin

warra na beekan gidduutti maqaa nan dha'a;
kunoo, Filisxeemii fi Xiiroos Itoophiyaa wajjin,
'Namichi kun achitti dhalate' jedhu."
5 Dhugumaan waa'ee Xiyoon,
"Inni kunii fi inni sun ishee keessatti dhalatan;
Waaqni Waan Hunda Olii mataan isaa iyyuu ishee dhaaba" jedhama.
6 WAAQAYYO yeroo saboota galmeessutti,
"Namichi kun achitti dhalate" jedhee barreessa.

7 Warri faarfatanii fi warri meeshaa muuziiqaa taphatan,
"Burqaan koo hundi si keessatti argama" jedhu.

## Kadhannaa Yeroo Rakkinaa

# Faarfannaa 88

Dura Bu'aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Ilmaan Qooraahi kan *maahilaati liinootiin** Faarfatame. *Maskiilii* Heemaan Izraahichaa.
1 Yaa WAAQAYYO, Waaqa na fayyiftu,
ani halkanii fi guyyaa fuula kee duratti nan iyyadha.
2 Kadhannaan koo fuula kee duratti haa dhi'aatu;
atis gurra kee gara iyyannaa kootiitti qabi.

3 Lubbuun koo rakkinaan guutamteertii;
jireenyi koos awwaalatti dhi'aateera.
4 Ani warra boolla keessa bu'anitti nan lakkaa'ame;
akka nama humna hin qabnees nan ta'e.
5 Ani akka nama gorra'amee awwaala keessa ciisuutti,
akka nama ati deebitee hin yaadanneetti,
akka warra eegumsa kee jalaa ba'aniitti,
warra du'an wajjin gatameera.

6 Ati boolla gad fagoo keessa,
dukkana hamaa keessas na buufteerta.
7 Dheekkamsi kee ulfaatee narra ciiseera;
dambalii kee hundas narra garagalchiteerta.
8 Michoota koo narraa fageessiteerta;
isaan biratti jibbamaa na gooteerta;
akka ani jalaa hin baanettis balballi natti cufameera.
9 Iji koo gaddaan dadhabeera.

Yaa WAAQAYYO, ani guyyuma guyyaan sin waammadha;
harka koo illee gara keetti nan bal'ifadha.
10 Ati dinqii kee warra du'anitti ni argisiiftaa?
Warri du'anis ka'anii si galateeffatuu?
11 Jaalalli kee awwaala keessatti,
amanamummaan kee immoo Qilee keessatti ni labsamaa?
12 Dinqiiwwan kee dukkana keessatti,
yookaan qajeelummaan kee biyya irraanfannaa keessatti ni beekamaa?

13 Yaa WAAQAYYO, ani garuu akka ati na gargaartuuf
gara keetti nan iyyadha;

* **Faarfannaa 88:** 88:0 Maahilaati liinootiin *gosa muuziiqaa ti.*

ganamaanis kadhannaan koo fuula kee duratti ni dhi’aata.
14 Yaa WAAQAYYO, ati maaliif na gatta?
Fuula kees maaliif na duraa dhokfatta?

15 Ani ijoollummaa kootii jalqabee rakkadhee du’uu ga’een ture;
naasisuun kee na dhiphiseera; abdiis kutadheera.
16 Dheekkamsi kee narra yaa’e;
naasisuun kees na balleesseera.
17 Isaan guyyaa guutuu akkuma lolaa bishaanii na marsu;
guutumaan guutuuttis na liqimsaniiru.
18 Michoota koo fi warra na jaallatan narraa fudhatteerta;
dukkana qofatu michuu naa ta’e.

## Faarfannaa Fi Kadhannaa Amanamummaa Waaqaatiif Dhi’aate

# Faarfannaa 89

*Maskiilii* Eetaan Izraahichaa.
1 Ani waa’ee araara WAAQAYYOO bara baraan nan faarfadha;
afaan kootiinis amanamummaa kee dhaloota hundumatti nan labsa.
2 Akka araarri kee bara baraan jiraatu,
akka ati amanamummaa kee samii keessatti jabeessitee dhaabde nan labsa.

3 Ati akkana jetteerta; “Ani filatamaa koo wajjin kakuu galeera;
Daawit tajaajilaa kootiif illee akkana jedhee kakadheera;
4 ‘Ani bara baraan sanyii kee nan dhaaba;
teessoo kees dhaloota hundaaf nan cimsa.’ ”

5 Yaa WAAQAYYO, samiiwwan dinqii kee jaju;
yaa’ii qulqullootaa keessattis amanamummaa kee jaju.
6 Samii keessatti eenyutu WAAQAYYOON qixxaachuu danda’a?
Uumamawwan samii keessaa kan WAAQAYYOON fakkaatu eenyu?
7 Waaqni waldaa qulqullootaa keessatti baay’ee sodaatama;
warra naannoo isaa jiran hunda keessaas isatu sodaachisaa dha.
8 Yaa WAAQAYYO, Waaqa Waan Hunda Dandeessu,
kan akka keetii eenyu?
Yaa WAAQAYYO, ati jabaa dha; amanamummaan kees si marsa.

9 Ati raafama galaanaa ni moota;
yommuu dha’aan isaa jabaatus ni tasgabbeessita.
10 Akka warra qalamaniitti Ra’aabin bulleessite;
irree kee jabaa sanaanis diinota kee ni bittinneessite.
11 Samiiwwan kan kee ti; laftis akkasuma kan kee ti;
ati addunyaa fi waan ishee keessa jiru hunda hundeessiteerta.
12 Kaabaa fi kibba situ uume;
Taaboorii fi Hermoon gammachuudhaan
maqaa kee galateeffatu.
13 Ati irree jabaa qabda; harki kee jabaa dha;
harki kee mirgaas ol ka’eera.

14 Qajeelummaa fi murtiin qajeelaan hundee teessoo keetii ti;
araarrii fi amanamummaan fuula kee dura deemu.

15 Yaa WAAQAYYO, warri siif ililchuu beekan,
warri ifa iddoo ati jirtuu keessa jiraatan eebbifamoo dha.
16 Isaan guyyaa guutuu maqaa keetiin gammadu;
qajeelummaa keetiinis si jajatu.
17 Ati ulfina jabina isaanii ti;
jaalala keetiinis gaanfa keenya ol qabdeerta.
18 Dhugumaan gaachanni keenya kan WAAQAYYOO ti;
kan mootii keenya Qulqullicha Israa'elii ti.

19 Ati dur akkana jettee saba kee amanamaatti
mul'ataan dubbatteerta:
"Ani loltuu tokkoof humna kenneera;
dargaggeessa saba keessaa filatame tokkos ani ol guddiseera.
20 Ani garbicha koo Daawitin argadheera;
zayitii koo qulqulluunis isa dibeera.
21 Harki koo isa wajjin jira;
irreen koos isa jajjabeessa.
22 Diinni tokko iyyuu isa hin mo'atu;
namni hamaanis isa hin hacuucu.
23 Amajaajota isaa fuula isaa duratti nan barbadeessa;
warra isa jibbanis nan dha'a.
24 Amanamummaa fi araarri koo isa wajjin jiraata;
gaanfi isaas maqaa kootiin ol jedha.
25 Ani harka isaa galaana irra,
harka isaa mirgaas lageen irra nan kaa'a.
26 Innis, 'Ati Abbaa koo ti;
Waaqa koo ti, Kattaa Fayyina koo ti' jedhee na waammata.
27 Anis ilma koo hangafa,
kan mootota lafaa hundaa olii isa nan godha.
28 Jaalala koos bara baraan isaaf nan tursa;
kakuun ani isa wajjin qabus hin cabu.
29 Hidda sanyii isaa bara baraan,
teessoo isaa illee hamma samiiwwan jiraatanitti nan dhaaba.

30 "Yoo ilmaan isaa seera koo eeguu didan,
yoo isaan ajaja koo faana bu'uu baatan,
31 yoo isaan sirna koo cabsanii
ajaja koo illee eeguu baatan,
32 ani cubbuu isaanii uleedhaan,
yakka isaanii immoo qacceedhaan nan adaba;
33 ani garuu jaalala koo isa irraa hin fudhadhu;
yookaan amanamummaa koo sobatti hin geeddaru.
34 Ani kakuu koo hin cabsu;
yookaan waan afaan koo dubbates hin geeddaru.
35 Si'a tokko yeroo hundaaf, qulqullina kootiin kakadheera;
ani Daawitin hin sobu.
36 Sanyiin isaa bara baraan itti fufa;
teessoon isaas akkuma aduu fuula koo dura jiraata;
37 akkuma ji'aas bara baraan ni jiraata;
hamma samiiwwan jiranittis cimee dhaabata."

38 Ati amma garuu isa dhiifteerta; tuffatteertas;
isa dibde sanatti baay'ee aarteerta.
39 Kakuu tajaajilaa kee wajjin galte cabsiteerta;
gonfoo isaas awwaara keessa buuftee xureessiteerta.
40 Dallaa isaa hunda caccabsiteerta;
da'oo isaa jajjabaas barbadeessiteerta.
41 Warri achiin darban hundi isa saamu;
olloonni isaas itti qoosu.
42 Ati harka amajaajii isaa mirgaa ol qabdeerta;
akka diinonni isaa hundi gammadan gooteerta.
43 Arfii goraadee isaa duubatti deebifteerta;
waraana keessattis isa hin gargaarre.
44 Surraa isaa isa irraa balleessiteerta;
teessoo isaas lafatti gatteerta.
45 Umurii dargaggummaa isaa gabaabsiteerta;
qaaniidhaanis isa haguugdeerta.

46 Yaa WAAQAYYO, kun hamma yoomiitti?
Ati bara baraan of dhoksitaa?
Dheekkamsi kee hamma yoomiitti akka ibiddaa boba'a?
47 Umuriin koo hammam akka gabaabaa ta'e yaadadhu.
Ati badiisa akkamiitiif ilmaan namaa hunda uumte!
48 Utuu du'a hin argin jiraachuu kan danda'u
yookaan humna sii'ool jalaa of baasuu
kan danda'u nama akkamii ti?
49 Yaa Gooftaa, jaalalli kee guddaan durii kan ati amanamummaa keetiin
Daawitiif kakatte sun eessa jira?
50 Yaa Gooftaa, akkamitti akka tajaajilaan kee tuffatame,
akkamitti akka ani arrabsoo saboota hundaa
bobaatti baadhe yaadadhu;
51 yaa WAAQAYYO, qoosaa diinonni kee natti qoosan,
kan isaan ittiin tarkaanfii dibamaa keetii hundatti qoosan yaadadhu.

52 Galanni bara baraan WAAQAYYOOF haa ta'u!
Ameen; Ameen.

# Kitaaba Afuraffaa

## 90

*Faarfannaa 90–106*

## Namni Dadhabaa Ta'uu Isaa

Kadhannaa Musee Nama Waaqaa Sanaa.
1 Yaa Gooftaa, ati dhaloota hunda keessatti
iddoo jireenyaa nuu taateerta.
2 Utuu tulluuwwan hin dhalatin
yookaan utuu ati lafaa fi addunyaa hin uumin,
baraa baraa hamma bara baraatti ati Waaqa.

3 Atis, “Yaa ilmaan namootaa, biyyootti deebi'aa”
jettee namoota biyyootti deebista.
4 Fuula kee duratti waggaan kumni tokko,
akkuma guyyaa kaleessa darbee ti;

yookaan akkuma dabaree eegumsa halkanii tokkoo ti.
5 Ati hirriba du’aatiin namoota haxooftee balleessita;
isaan akkuma marga ganama bayyanatuu ti;
6 margi sun ganama ganama bayyanatu illee
galgala galgala garuu coollagee goga.

7 Aariin kee nu fixeera;
dheekkamsi kees nu naasiseera.
8 Yakka keenya fuula kee dura,
cubbuu keenya dhokataa sanas ifa fuula keetii dura keesseerta.
9 Barri keenya hundinuu dheekkamsa keetiin dhumeeraatii;
umurii keenyas aaduudhaan fixanna.
10 Dheerinni bara keenyaa waggaa torbaatama,
yoo jabaanne immoo waggaa saddeettama ta’a;
kuni iyyuu garri caalaan isaa dadhabbii fi rakkinaan guutameera;
inni dafee darbaatii; nus barrifnee ni sokkina.

11 Humna aarii keetii eenyutu beeka?
Dheekkamsi kee akkuma sodaa nu siif qabaachuu qabnu sanaa
guddaadhaatii.
12 Akka nu garaa ogummaadhaan guutame qabaannuuf,
bara keenya lakkaa’uu nu barsiisi.

13 Yaa Waaqayyo, deebi’i! Kun hamma yoomiitti ta’a?
Tajaajiltoota keetiifis garaa laafi.
14 Akka nu bara keenya guutuu gammannee ililchinuuf,
ganama ganama araara keetiin nu quufsi.
15 Hamma baay’ina guyyoota ati nu miite sanaa,
hamma baay’ina waggoota nu rakkanne sanaas nu gammachiisi.
16 Hojiin kee tajaajiltoota keetti,
ulfinni kees ijoollee isaaniitti haa mul’ifamu.

17 Eebbi Waaqa keenya Gooftichaa nurra haa bu’u;
hojii harka keenyaas jabeessii nuu dhaabi;
eeyyee, hojii harka keenyaa jabeessii nuu dhaabi.

## Eegumsa Waaqaa

# Faarfannaa 91

1 Namni da’oo Waaqa Waan Hundaa Olii keessa jiraatu,
gaaddisa Waaqa Waan Hunda Danda’u sanaa jala boqota.
2 Anis Waaqayyoon, “Inni iddoo ani itti kooluu galuu fi
da’annoo koo ti;
Waaqa koo kan ani amanadhuu dha” nan jedha.

3 Inni dhugumaan kiyyoo adamsaa jalaa,
dhukkuba nama fixu jalaas si baasa.
4 Inni baallee isaatiin si dhoksa;
atis qoochoo isaa jalatti kooluu ni galta;
amanamummaan isaa gaachanaa fi dallaa eegumsaa siif ta’a.
5 Atis naasuu halkanii,
yookaan xiyya guyyaan futtaafamu hin sodaattu;

6 golfaa dukkana keessa deemu,
yookaan dha'icha guyyaa saafaan nama balleessu hin sodaannu.
7 Kumni tokko si cinatti,
kumni kudhan immoo mirga keetti ni kufa;
garuu sitti hin dhi'aatu.
8 Ati ijuma kee qofaan ilaalta;
adaba hamootatti dhufus ni argita.

9 Ati waan WAAQAYYOON iddoo kooluu itti galtu,
Waaqa Waan Hundaa Olii iddoo jireenya keetii godhatteef,
10 wanni hamaan si hin tuqu;
dha'ichis dunkaana keetti hin dhi'aatu.
11 Inni akka isaan karaa kee hunda irratti si eeganiif,
ergamoota isaa siif ni ajaja;
12 isaanis akka miilla keetiin dhagaatti hin buuneef
harka isaaniitiin ol si fuudhu.
13 Ati leencaa fi buutii irra ejjetta;
leenca saafelaa fi jawwee ni dhidhiitta.

14 WAAQAYYOS akkana jedha;
"Sababii inni na jaallatuuf, ani isa nan oolcha;
waan inni maqaa koo beekuuf isa nan eega.
15 Inni na waammata; anis nan deebisaaf;
rakkina keessatti ani isa wajjin nan ta'a;
isa nan oolcha; ulfinas nan kennaaf.
16 Ani umurii dheeraa isa nan quufsa;
fayyisuu koos isatti argisiisa."

## Gammachuu Nama Qajeelaa,

# Faarfannaa 92

Faarfannaa Guyyaa Sanbataa Faarfatamu.
1 WAAQAYYOON, galateeffachuun, yaa Waaqa Waan Hundaa Olii,
maqaa keetiif faarfachuun gaarii dha.
2 Jaalala kee ganamaan,
amanamummaa kees halkaniin labsuun,
3 kiraara ribuu kudhaniitiin,
sagalee baganaatiinis labsuun gaarii dha.

4 Yaa WAAQAYYO, ati hojii keetiin na gammachiiftaatii;
ani sababii hojii harka keetiitiif gammachuudhaan nan faarfadha.
5 Yaa WAAQAYYO, hojiin kee akkam guddaa dha;
yaadni kees akkam gad fagoo dha!
6 Namni qalbii hin qabne waan kana beekuu hin danda'u;
gowwaanis hin hubatu;
7 hamoonni yoo akkuma margaa biqilan iyyuu,
jal'oonni hundinuus yoo daraaran iyyuu,
isaan bara baraan ni barbadaa'u.

8 Yaa WAAQAYYO, ati garuu bara baraan ol ol jetta.

9 Yaa WAAQAYYO, kunoo diinota kee,

kunoo diinonni kee ni badu;
warri jal’ina hojjetan hundinuus ni bittinneeffamu.
10 Ati gaanfa koo akka gaanfa gafarsaa ol ol qabde;
zayitii haaraa natti dhangalaafte.
11 Iji koo mo’atamuu diinota koo argeera;
gurri koos badiisa jal’oota natti ka’anii dhaga’eera.

12 Qajeeltonni akkuma muka meexxii ni dagaagu;
akkuma birbirsa Libaanoonitti ni guddatu;
13 isaan mana WAAQAYYOO keessa dhaabamanii jiru;
oobdii Waaqa keenyaa keessattis itti tolee misanii jiran.
14 Isaan amma iyyuu bara dullumaa keessa ija naqatu;
gabbataniis dagaaganii jiraatu.
15 Isaanis, “WAAQAYYO tolaa dha; inni Kattaa koo ti;
hamminni isa keessa hin jiru” jedhanii labsu.

## Miidhagina WAAQAYYOO

# Faarfannaa 93

1 WAAQAYYO ni mo’a; surraas ni uffata;
WAAQAYYO surra ni uffata; jabinas hidhata.
Addunyaan cimtee dhaabamteerti; hin sochoofamtus.
2 Teessoon kee durumaa jalqabee cimee dhaabateera;
ati durii duriitii jalqabdee jirta.

3 Yaa WAAQAYYO, galaanonni ol kaasaniiru;
galaanonni sagalee isaanii ol kaafataniiru;
galaanonni huursuu isaanii ol kaafataniiru.
4 Sagalee bishaan baay’ee caalaa,
jabina dha’aa galaanaa caalaas,
WAAQAYYO ol gubbaa jiru sun humna qabeessa.

5 Seerri kee jabaatee ni dhaabata;
Yaa WAAQAYYO, qulqullummaan bara baraan
faaya mana keetii ti.

## Waaqa Murtii Qajeelaa

# Faarfannaa 94

1 Yaa WAAQAYYO, Waaqa haaloo baaftu,
Yaa Waaqa haaloo baaftu, ifii mul’adhu.
2 Yaa Abbaa Murtii lafa kanaa ka’i;
of tuultotaaf illee waan isaanii malu kenni.
3 Yaa WAAQAYYO, hamma yoomiitti warri hamoon,
warri hamoon hamma yoomiitti burraaqu?

4 Isaan dubbii of tuulummaa gad roobsu;
jal’oonni hundinuu of dhiibuudhaan guutaman.
5 Yaa WAAQAYYO, isaan saba kee miidhu;
handhuuraa kees ni hacuucu.
6 Haadha hiyyeessaatii fi keessummaa ni gorra’u;
ijoollee abbaa hin qabnes ni ajjeesu.

7 Isaan, “WAAQAYYO hin argu;
Waaqni Yaaqoob hin qalbeeffatu” jedhu.

8 Warri saba keessaa raatoftan mee hubadhaa;
isin warri gowwoonni yoom ogeeyyii taatu?
9 Inni gurra uume sun hin dhaga’uu?
Inni ija uume hin argu?
10 Inni saboota sirreessu sun hin adabuu?
Inni nama barsiisu sun beekumsa hin qabuu?
11 WAAQAYYO yaada namaa beeka;
akka yaadni namaa faayidaa hin qabnes ni beeka.

12 Yaa WAAQAYYO, namni ati adabdu,
namni ati seera kee irraa barsiiftu eebbifamaa dha;
13 hamma hamootaaf boolli qotamutti,
guyyaa rakkinaatti ati boqonnaa kennitaaf.
14 WAAQAYYO saba isaa hin gatuutii;
inni akkana illee jedhee handhuuraa ofii isaa hin dhiisu.
15 Murtiin qajeelummaa irratti hundeeffama;
toloonni hundinuus isa faana bu’u.

16 Eenyutu hamootatti naa ka’a?
Eenyutu na cina dhaabatee warra jal’ina hojjetaniin morma?
17 Utuu WAAQAYYO na gargaaruu baatee,
silaa yoona lubbuun koo boolla du’aa keessa jirti.
18 Yaa WAAQAYYO yeroo ani, “Miilli koo mucucaateera” jedhetti,
araarri kee ol qabee na dhaabe.
19 Yommuu yaaddoon natti baay’atetti,
jajjabeessuun kee lubbuu koo gammachiise.

20 Bulchitoonni hamoon, warri seeratti fayyadamanii jal’ina hojjetan
si wajjin tokkummaa qabaachuu danda’uu?
21 Isaan tokkummaadhaan nama qajeelaatti ka’anii
nama yakka hin qabnetti du’a muru.
22 WAAQAYYO garuu da’oo,
Waaqni koos, kattaa ani itti baqadhu naa ta’eera.
23 Inni gatii cubbuu isaanii isaanumatti deebisa;
sababii hammina isaaniitiif illee isaan balleessa;
WAAQAYYO Waaqni keenya isaan barbadeessa.

## Faarfannaa Guyyaa Guyyaatti Faarfatamu

# Faarfannaa 95

1 Kottaa WAAQAYYOOF faarfannaa;
Kattaa fayyina keenyaatiifis ni ililchinaa.
2 Galataan fuula isaa duratti haa dhi’aannu;
faarfannaadhaanis isa haa leellifnu.

3 WAAQAYYO Waaqa guddaadhaatii;
inni waaqota hundaa olitti Mootii guddaa dha.
4 Qileewwan lafaa harka isaa keessa jiru;
fiixeewwan tulluus kan isaa ti.

5 Galaanni kan isaa ti; isatu hojjeteetii;
lafa gogaa illee harka isaatu uume.

6 Kottaa gad jennee sagadnaa;
Uumaa keenya WAAQAYYO duratti ni jilbeenfannaa;
7 inni Waaqa keenyaatii;
nu immoo saba eegumsa isaa jala jirruu dha;
bushaayee harka isaa keessa jiruudhas.

Isin har'a yoo sagalee isaa dhageessan,
8 akka Mariibaatti gootan sana,
akka gaafa gammoojjii keessatti Maasaatti gootan sanaa
mataa hin jabaatinaa;
9 abbootiin keessan utuma hojii koo arganuu,
achitti qoranii na ilaalan.
10 Dhaloota sanatti ani waggaa afurtama nan dheekkame;
anis, "Isaan saba garaan isaanii karaa irraa jal'atee dha;
isaan karaa koo hin beekne" nan jedheen.
11 Kanaafuu ani dheekkamsa kootiin,
"Isaan boqonnaa kootti hin galan" jedhee kakadhe.

## Waaqni Mootii Fi Abbaa Murtii ti

# Faarfannaa 96

*96:1-13 kwf – 1Sn 16:23-33*

1 Faarfannaa haaraa WAAQAYYOOF faarfadhaa;
lafti hundinuu WAAQAYYOON faarfadhaa.
2 WAAQAYYOON faarfadhaa; maqaa isaa eebbisaa;
fayyisuu isaas guyyuma guyyaan labsaa.
3 Ulfina isaa saboota gidduutti,
hojii isaa dinqisiisaa sana immoo namoota hunda keessatti labsaa.

4 WAAQAYYO guddaadhaatii galanni baay'een isaaf ni mala;
inni waaqota hundaa olittis sodaatamuu qaba.
5 Waaqonni saboota ormaa hundinuu waaqota tolfamoodhaatii;
WAAQAYYO garuu samiiwwan uume.
6 Miidhaginnii fi surraan fuula isaa dura jiru;
jabinnii fi ulfinni iddoo qulqullummaa isaa keessa jiru.

7 Yaa maatiiwwan sabootaa WAAQAYYOOF kennaa;
ulfinaa fi jabina WAAQAYYOOF kennaa.
8 Ulfina maqaa isaatiif malu WAAQAYYOOF kennaa;
aarsaa fidaatii oobdii isaa seenaa.
9 Bareedina qulqullummaa isaatiin WAAQAYYOON waaqeffadhaa;
isin lafti hundinuu fuula isaa duratti holladhaa.
10 Saboota gidduutti, "WAAQAYYO mootii dha" jedhaa;
addunyaan jabaattee dhaabatteerti; sochoofamuus hin dandeessu.
Inni qajeelummaadhaan sabootaaf murtii kenna.

11 Samiiwwan haa ililchan; laftis haa gammaddu;
galaannii fi wanni isa keessa jiru hundinuu haa huursu.

12 Dirreewwanii fi wanni isaan irra jiran hundinuu haa gammadan.
Mukkeen bosonaa hundinuus gammachuudhaan haa faarfatan.
13 Uumamni hundi fuula WAAQAYYOO duratti haa faarfatu; inni ni dhufaatii;
inni lafatti murteessuuf ni dhufa.
Addunyaatti qajeelummaadhaan,
sabootatti immoo dhugaa isaatiin ni mura.

## Mo'achuu WAAQAYYO

# Faarfannaa 97

1 WAAQAYYO mo'eera; lafti haa gammaddu;
biyyoonni qarqara galaanaa hedduunis haa ililchan.

2 Duumessaa fi dukkanni limixiin isa marsaniiru;
qajeelummaa fi murtii qajeelaan hundee teessoo isaa ti.
3 Ibiddi fuula isaa dura deemee
diinota isaa naannoo isaatii fixa.
4 Balaqqeen isaa addunyaa ibsa;
laftis argitee hollatti.
5 Tulluuwwan fuula WAAQAYYOO duratti,
fuula Gooftaa lafa hundumaa durattis akkuma gagaa baqu.
6 Samiiwwan qajeelummaa isaa labsu;
saboonni hundinuus ulfina isaa argu.

7 Warri fakkii waaqeffatan,
kanneen waaqota tolfamoon of jajan hundi haa qaaneffaman;
isin waaqonni hundinuus isa waaqeffadhaa!

8 Yaa WAAQAYYO, sababii murtii keetiitiif,
Xiyoon dhageessee ililchiti;
gandoonni Yihuudaas ni gammadu.
9 Yaa WAAQAYYO, ati lafa hundumaa irratti Waaqa Waan Hundaa Olii ti;
ati waaqota hundumaa irra akka malee ol ol jetteerta.

10 Sababii inni lubbuu amanamoota isaa eegee,
harka hamootaa jalaa isaan baasuuf,
warri WAAQAYYOON jaallatan hammina haa jibban.
11 Qajeeltota irratti ifni ni ifa;
gara tolootaafis gammachuun ni dhufa.
12 Isin qajeeltonni WAAQAYYOTTI gammadaa;
maqaa isaa qulqulluus galateeffadhaa.

## Abbaa Murtii Addunyaa Hundaa

# Faarfannaa 98

Faarfannaa.
1 WAAQAYYOOF faarfannaa haaraa faarfadhaa;
inni dinqii hojjeteeratii;
harki isaa inni mirgaatii fi irreen isaa qulqulluun,
akka inni mo'annaa argatu godhaniiru.
2 WAAQAYYO akka fayyisuun isaa beekamu godheera;
qajeelummaa isaas sabootatti mul'iseera.
3 Inni jaalala isaatii fi amanamummaa isaa

mana Israa’eliif yaadateera;
daariin lafaa hundinuu,
fayyisuu Waaqa keenyaa arganiiru.

4 Lafti hundinuu WAAQAYYOOF ililchaa;
faarfannaa gammachuutiin iyyaa; weedduu galataas weeddisaa;
5 baganaadhaan faarfannaa galataa,
baganaa fi sagalee weedduutiin WAAQAYYOOF faarfadhaa;
6 malakataa fi sagalee gaanfaatiin,
fuula WAAQAYYO mootichaa duratti ililchaa.

7 Galaannii fi wanni isa keessa jiru hundinuu,
addunyaa fi wanti ishee keessa jiraatu hundinuu haa huursan.
8 Lageen harka isaanii haa rurrukutan;
tulluuwwanis tokkummaadhaan haa ililchan;
9 isaan fuula WAAQAYYOO duratti haa faarfatan;
inni lafatti murteessuu ni dhufaatii.
Inni addunyaaf qajeelummaadhaan,
namootaaf immoo utuu wal hin caalchisin murtii kenna.

## Waaqa Qajeelaa

# Faarfannaa 99

1 WAAQAYYO mo’eera;
saboonni haa hollatan;
inni kiirubeel gidduu, teessoo isaa irra taa’a;
lafti haa raafamtu.
2 WAAQAYYO Xiyoon keessatti guddaa dha;
inni saboota hunda irra ol ol jedheera.
3 Isaan maqaa kee guddichaa fi sodaachisaa sana haa jajan;
inni qulqulluu dha.

4 Mootichi humna qabeessa; inni murtii qajeelaa jaallata;
ati tola hundeessiteerta;
Yaaqoob keessattis haqaa fi
qajeelummaa hojjetteerta.
5 WAAQAYYO Waaqa keenya leellisaa;
ejjeta miilla isaa jalatti sagadaa;
inni qulqulluu dha.

6 Musee fi Aroon luboota isaa keessa turan;
Saamu’eelis warra maqaa isaa waammatan keessa ture;
isaan WAAQAYYOON waammatan;
innis deebii kenneef.
7 Inni utubaa duumessaa keessaa isaanitti dubbate;
isaanis sirna isaatii fi seera inni isaaniif kenne eegan.

8 Yaa WAAQAYYO Waaqa keenya,
ati deebii isaanii kennite;
ati balleessaa isaanii adabdu illee,
Israa’eliif Waaqa dhiifama gootu turte.
9 Waaqa keenya WAAQAYYOON leellisaa;
tulluu isaa qulqulluu irrattis waaqeffadhaa;

WAAQAYYO Waaqni keenya Waaqa qulqulluudhaatii.

## Gorsa Galata Galchuu

# Faarfannaa 100

Faarfannaa Galataa.
1 Lafti hundinuu WAAQAYYOOF ililchaa.
2 Gammachuudhaan WAAQAYYOON waaqeffadhaa;
faarfannaa gammachuutiinis fuula isaa duratti dhi'aadhaa.
3 Akka WAAQAYYO Waaqa ta'e beekaa;
isattu nu uume; nu kan isaa ti;
nu saba isaa ti; hoolota tika isaa jala jirruu dha.

4 Galateeffachuudhaan karrawwan isaa,
jajachuudhaanis oobdii isaa seenaa;
isa galateeffadhaa; maqaa isaa illee eebbisaa.
5 WAAQAYYO gaariidhaatii; araarri isaa kan bara baraa ti;
amanamummaan isaas dhalootaa gara dhalootaatti itti fufa.

## Bulchiinsa Qajeelaa

# Faarfannaa 101

Faarfannaa Daawit.
1 Ani jaalala keetii fi murtii kee qajeelaa sanaaf nan faarfadha;
Yaa WAAQAYYO ani siif nan faarfadha.
2 Ani jireenya hir'ina hin qabne jiraachuuf of nan eeggadha;
ati yoom gara koo dhufta?

Ani garaa qulqulluudhaan,
mana koo nan jiraadha.
3 Ani ija koo dura,
waan hamaa hin kaa'u.

Hojii jal'ootaa nan jibba;
nattis hin qabatu.
4 Namoonni yaada micciiramaa qaban narraa haa fagaatan;
ani jal'ina wajjin tokkummaa hin qabaadhu.

5 Nama dhoksaan ollaa isaa hamatu kam iyyuu,
ani afaan nan qabachiisa;
nama tuffiin nama ilaaluu fi kan garaa of tuulu qabuuf,
ani obsa hin qabaadhu.

6 Akka isaan na wajjin jiraataniif,
iji koo amanamoota biyyattii irra jiraatti;
namni karaa qajeelaa irra deemu, inni na tajaajila.

7 Namni nama gowwoomsu tokko iyyuu
mana koo keessa hin jiraatu;
namni soba dubbatu tokko iyyuu
fuula koo dura hin dhaabatu.

8 Ani jal'oota biyyattii hunda,

ganama ganama nan barbadeessa;
warra waan hamaa hojjetan
magaalaa WAAQAYYOO keessaa nan balleessa.

## Kadhannaa Yeroo Rakkinaa

# Faarfannaa 102

Kadhannaa Namni Dhiphate Tokko Faaruu Boo'ichaa Faarsee Fuula WAAQAYYOO Duratti Dhi'eeffatu.

1 Yaa WAAQAYYO, kadhannaa koo naa dhaga'i;
iyyi ani gargaarsaaf iyyadhus si bira haa ga'u.
2 Yeroo ani dhiphadhetti,
fuula kee na duraa hin dhoksin.
Gurra kee gara kootti deebisi;
yommuu ani si waammadhu dafiitii deebii naa kenni.

3 Barri koo akkuma aaraatti ni badaatii;
lafeen koos akkuma barbadaa ibiddaa boba'aa jira.
4 Garaan koo dhukkubsatee akkuma margaa coollageera;
ani nyaata koo nyaachuu irraanfadheera.
5 Sababii ani guddisee aaduuf,
lafeen koo gogaa kootti maxxaneera.
6 Ani akka urunguu gammoojjii,
akka urunguu lafa barbadaa'e keessaa nan ta'e.
7 Ani hirriba malee nan bula;
akka simbirroo kophaa ishee guutuu manaa irra jirtuus ta'eera.
8 Diinonni koo guyyaa guutuu na arrabsu;
warri natti qoosanis abaarsaaf maqaa kootti fayyadamu.
9 Ani akkuma buddeenaatti daaraa nyaadheeraattii;
dhugaatii koottis imimmaan makadheera;
10 kunis sababii aarii fi dheekkamsa keetiitiif natti dhufe;
ati ol na fuutee gad na darbatteertaatii.
11 Barri koo akkuma gaaddidduu galgalaa ti;
anis akkuma margaa gogeera.

12 Yaa WAAQAYYO, ati bara baraan teessoo irra jirta;
yaadannoon kees dhaloota hundatti darba.
13 Ati kaatee Xiyooniif garaa ni laafta;
yeroon itti isheen fudhatama argachuu qabdu ammumaatii;
yeroon murteeffame sun ga'eeraa.
14 Garboonni kee dhagaa isheetti gammaduutii;
biyyoo ishees ni mararfatu.
15 Saboonni maqaa WAAQAYYOO ni sodaatu;
mootonni lafaa hundinuus ulfina kee ni kabaju.
16 WAAQAYYO deebisee Xiyoonin ijaaraatii;
ulfina isaatiinis ni mul'ata.
17 Inni kadhannaa gadadamtootaa ni dhaga'a;
waammata isaaniis hin tuffatu.

18 Akka sabni hamma ammaatti hin dhalatin WAAQAYYOON galateeffatuuf,
wanni kun akkana jedhamee dhaloota dhufuuf haa barreeffamu:
19 “WAAQAYYO iddoo qulqullummaa isaa gubbaa irraa gad ilaale;

samii irraas gara lafaa gad mil'ate;
20 kanas aaduu warra hidhamanii dhaga'uu fi
warra duuti itti murame baasuudhaaf hojjete."
21 Akkasiin maqaan WAAQAYYOO Xiyoon keessatti,
galanni isaas Yerusaalem keessatti ni labsama;
22 kunis yommuu saboonnii fi mootummoonni,
WAAQAYYOON waaqeffachuuf walitti qabamanitti ta'a.

23 Inni jabina koo karaatti hambise;
umurii koos ni gabaabse.
24 Anis akkanan jedhe:
"Yaa Waaqa ko, walakkaa umurii kootti na hin fudhatin;
waggoonni kee dhalootaa hamma dhaloota hundaatti itti fufu.
25 Ati jalqabatti lafa hundeessite;
samiiwwanis hojii harka keetii ti.
26 Isaan ni badu; ati garuu ni jiraatta;
hundumti isaanii akkuma wayyaa ni dhumu.
Ati akkuma uffataa isaan geeddarta;
isaanis ni badu.
27 Ati garuu sanuma;
umuriin kees gonkumaa dhuma hin qabu.
28 Ijoolleen garboota keetii sodaa malee jiraatu;
sanyiin isaaniis fuula kee dura jiraata."

## Waaqni Jaalala

# Faarfannaa 103

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa lubbuu ko, WAAQAYYOON eebbisi;
keessi namummaa koo hundi maqaa isaa qulqulluu sana eebbisaa.
2 Yaa lubbuu koo WAAQAYYOON eebbisi;
tola isaa hundas hin irraanfatin.
3 Inni cubbuu kee hundumaa siif dhiisa;
dhukkuba kee hundumaa ni fayyisa;
4 jireenya kee boolla irraa ni baraara;
jaalalaa fi gara laafinaan si gonfa;
5 akka dargaggummaan kee akkuma risaa haaromfamuufis,
inni fedhii kee waan gaariidhaan ni guuta.

6 WAAQAYYO warra cunqurfaman
hundaaf qajeelummaa fi murtii qajeelaa kenna.

7 Inni karaa isaa Museetti,
hojii isaa immoo saba Israa'elitti beeksise.
8 WAAQAYYO gara laafessaa fi arjaa dha;
inni aaruuf hin ariifatu; jaalalli isaas baay'ee dha.
9 Inni yeroo hunda hin dheekkamu;
aarii isaa illee bara baraan hin kuufatu;
10 inni akka cubbuu keenyaatti nu hin adabne;
yookaan akka balleessaa keenyaatti nuuf hin deebifne.
11 Akkuma samiiwwan lafa irraa ol fagaatan sana,
jaalalli inni warra isa sodaataniif qabu akkasuma guddaa dha;

12 akkuma ba'i biiftuu lixa biiftuu irraa fagaatu,
akkasuma inni balleessaa keenya nurraa haqeera.
13 Akkuma abbaan ijoollee isaatiif garaa laafu,
WAAQAYYO warra isa sodaataniif garaa ni laafa;
14 inni akka nu itti uumamne ni beekaatii;
akka nu biyyoo taanes ni yaadata.
15 Barri namaa akkuma margaa ti;
akka abaaboo dirrees ni misa;
16 inni yeroo bubbeen itti bubbisutti ni bada;
iddoon isaas deebi'ee isa hin yaadatu.
17 Jaalalli WAAQAYYOO garuu bara baraa hamma bara baraatti
warra isa sodaatan wajjin ni jiraata;
qajeelummaan isaa immoo ijoollee ijoollee isaaniitti darba;
18 warra kakuu isaa eeganitti,
warra ajaja isaatti buluu yaadatanittis ni darba.

19 WAAQAYYO teessoo isaa samii keessa dhaabbateera;
mootummaan isaas waan hunda bulcha.

20 Isin ergamoonni isaa, warri ajaja isaa eegdan jajjaboon,
warri dubbii isaatiif ajajamtanis WAAQAYYOON eebbisaa.
21 Raayyaan isaa hundinuu, isin tajaajiltoonni isaa
warri fedhii isaa guuttan WAAQAYYOON eebbisaa.
22 Uumamawwan bulchiinsa isaa
jala lafa hunda jirtan hundi WAAQAYYOON eebbisaa.

Yaa lubbuu ko, WAAQAYYOON eebbisi.

## Ulfina Uumamaa

# Faarfannaa 104

1 Yaa lubbuu ko, WAAQAYYOON eebbisi.

Yaa WAAQAYYO, Waaqa ko, ati akka malee guddaa dha;
miidhaginaa fi surraa uffatteerta.

2 Ati akkuma wayyaa ifa uffatta;
samiiwwanis akkuma dunkaanaa diriirsita.
3 Dareeraa diinqa isaa bishaanota irra buufta.
Duumessoota gaarii isaa godhata;
qoochoo bubbee yaabbattee deema.
4 Inni ergamoota isaa hafuurota,
tajaajiltoota isaa immoo arraba ibiddaa godha.

5 Inni lafa hundee ishee irra dhaabeera;
isheenis gonkumaa hin sochootu.
6 Ati akkuma wayyaatti tuujubaan ishee haguugde;
bishaanonnis tulluuwwanii ol dhaabatan.
7 Ati ifannaan bishaanonni baqatan;
sagalee qaqawwee keetii dhageenyaan gugatan.
8 Isaan tulluuwwan irraan dhangala'an;
gara iddoo ati isaanii qopheessitee,

gara sululootaatti gad yaa'an.
9 Akka isaan deebi'anii lafa hin haguugneef
ati daarii isaan darbuu hin dandeenye isaan dura dhaabde.

10 Akka burqaawwan sululoota keessa yaa'an goota;
isaanis tulluuwwan gidduu yaa'u.
11 Isaan bineensota bakkee hundaaf bishaan kennu;
harroonni diidaas dheebuu ba'u.
12 Simbirroonni samii bishaanota biratti mandhee ijaarratan;
dameewwan gidduutti ni faarfatan.
13 Inni mana isaa kan olii irraa tulluuwwan bishaan obaafta;
laftis ija hojii keetiitiin quufti.
14 Inni lafa irraa nyaata kennuuf jedhee looniif marga,
faayidaa namaatiif immoo biqiltuuwwan biqilcha;
15 akka daadhiin wayinii garaa nama gammachiisu,
akka zayitiin fuula nama cululuqsuu fi
akka midhaan nama jajjabeessu ni goota.
16 Mukkeen Waaqayyoo,
birbirsi Libaanoon kan inni dhaabe sun bishaan quufaniiru.
17 Simbirroonni achitti mandhee isaanii ijaarratu;
huummoonis birbirsa irraa mana qabdi.
18 Tulluuwwan dhedheeroon da'oo re'ee diidaa ti;
holqi kattaawwanii immoo da'oo osolee ti.

19 Inni akka ji'i waqtiilee gargar qoodu godha;
biiftuunis yeroo itti lixxu ni beekti.
20 Ati dukkana uumta; halkanis ni ta'a;
bineensonni bosonaa hundis gad yaa'u.
21 Leenci saafelli waan nyaatu barbaadee aada;
nyaata isaas Waaqa bira barbaada.
22 Isaan yommuu biiftuun baatutti walitti qabamu;
dacha'aniis goda isaanii keessa ciciisu.
23 Namni gara hojii isaatti,
hamma galgalaattis gara jiruu isaatti ni ba'a.

24 Yaa Waaqayyo, hojiin kee akkam baay'ee dha!
Ati hunda isaanii ogummaadhaan hojjette;
laftis uumamawwan keetiin guutamte.
25 Galaanni guddaa fi bal'aan kun,
uumamawwan hamma hin qabneen guutame;
kan lubbuu qabeeyyiin gurguddaa fi
xixinnoon keessa jiraatan kuunnoo jira.
26 Dooniiwwan as irra deddeebi'u;
lewaataan kan akka inni achi keessa
taphatuuf ati uumtes achi jira.

27 Akka ati nyaata isaanii yeroo barbaachisuutti isaaniif kennituuf,
isaan hundi si eeggatu.
28 Yeroo ati isaaniif kennitutti,
isaan walitti qabatu;
yeroo ati harka kee bal'iftutti,

isaan waan gaarii quufu.
29 Yeroo ati fuula kee dhokfattutti,
isaan ni na'u;
yeroo ati hafuura isaanii fudhattutti,
isaan du'anii biyyootti deebi'u.
30 Yeroo ati Hafuura kee ergitutti isaan ni uumamu;
atis fuula lafaa ni haaromsita.

31 Ulfinni WAAQAYYOO bara baraan haa jiraatu;
WAAQAYYO hojii isaatti haa gammadu;
32 inni ilaallaan lafti hollatte;
inni tuqnaan tulluuwwan keessaa aarrii ba'e.

33 Bara jireenya koo guutuu ani WAAQAYYOOF nan faarfadha;
hamma lubbuun koo jirtuttis faarfannaadhaan
Waaqa koo nan galateeffadha.
34 Irra deddeebi'ee yaaduun koo isa haa gammachiisu;
ani WAAQAYYOTTI nan gammadaatii.
35 Cubbamoonni lafa irraa haa badan;
hamoonnis si'achi hin jiraatin.

Yaa lubbuu koo WAAQAYYOON eebbisi.

Haalleluuyaa.

## Seenaa Israa'el Isa Dinqisiisaa

# Faarfannaa 105

*105:1-15 kwf – 1Sn 16:8-22*

1 WAAQAYYOOF galata galchaa; maqaa isaas waammadhaa;
waan inni hojjetes saboota gidduutti beeksisaa.
2 Isaaf faarfadhaa; faarfannaadhaan isa galateeffadhaa;
waa'ee hojii isaa isa dinqisiisaa hundaas odeessaa.
3 Maqaa isaa qulqulluu sanaan boonaa;
garaan warra WAAQAYYOON barbaadanii haa gammadu.
4 WAAQAYYOO fi humna isaa barbaaddadhaa;
yeroo hunda fuula isaa barbaadaa.

5 Dinqii inni hojjete,
hojii isaa dinqii sanaa fi murtii inni labse yaadadhaa;
6 isin tajaajiltoonni isaa, warri sanyii Abrahaam taatan,
isin filatamtoonni isaa, ilmaan Yaaqoobis kana yaadadhaa.
7 Inni WAAQAYYO Waaqa keenya;
murtiin isaas lafa hunda irra jira.

8 Inni kakuu isaa bara baraan,
waadaa gale sanas dhaloota kumaaf ni yaadata;
9 inni kakuu Abrahaam wajjin gale,
kakuu Yisihaaqiif kakates ni yaadata.
10 Kanas Yaaqoobiif seera,
Israa'eliif immoo kakuu bara baraa godhee
akkana jedhee mirkaneesseera:

11 “Ani biyya Kana’aan
qooda ati dhaaltu godhee siif nan kenna.”

12 Isaan yeroo lakkoobsaan xinnoo turanitti,
dhugumaanuu xinnoo fi biyyattii keessattis
keessummoota turanitti,
13 sabaa gara sabaatti, mootummaa tokkoo gara
mootummaa biraatti jooran.
14 Inni akka namni tokko iyyuu isaan cunqursu hin eeyyamne;
sababii isaaniitiifis akkana jedhee moototа ifate:
15 “Dibamtoota koo hin tuqinaa;
raajota koos hin miidhinaa.”

16 Inni beela biyyattiitti waame;
midhaan nyaataa hundas ni balleesse;
17 innis Yoosef namicha akka garbaatti
gurgurame tokko isaan dura erge.
18 Isaan foncaadhaan miilla isaa luqqisan;
mormi isaas sibiila keessa galfame;
19 hamma wanni inni duraan dursee dubbate guutamutti
dubbiin WAAQAYYOO isa qore.
20 Mootiin nama ergee gad isa dhiisise;
bulchaan sabaa isa hiiksise.
21 Mootichis mana isaa irratti ajajaa,
qabeenya isaa hunda irratti immoo bulchaa isa godhate;
22 kanas akka inni akkuma fedhetti qondaaltota isaa gorsuuf,
akka inni maanguddoota isaa ogummaa barsiisuuf godhe.

23 Israa’el biyya Gibxi dhaqe;
Yaaqoobis akka alagaatti biyya Haam keessa jiraate.
24 WAAQAYYO saba isaa akka malee baay’ise;
akka isaan amajaajota isaanii caalaa jabaatanis godhe;
25 innis akka isaan saba isaa jibbanii fi
akka isaan tajaajiltoota isaatti mari’ataniif yaada isaanii geeddare.
26 Waaqnis Musee tajaajilaa isaatii fi
Aroon filatamaa isaa erge.
27 Isaanis jara gidduutti mallattoo isaa,
biyya Haam keessatti immoo dinqii isaa argisiisan.
28 Inni dukkana ergee biyyattii dukkaneesse;
isaan dubbii isaatti fincilaniiruutii.
29 Inni bishaanota isaanii dhiigatti geeddaree
akka qurxummiiwwan isaanii dhuman godhe.
30 Fatteen biyya isaanii guutee
diinqa moototа isaanii keessa yaa’e.
31 Inni dubbannaan tuunni tisiisaatii fi
bookeen biyya isaanii hunda keessa guutte.
32 Inni qooda bokkaa cabbii isaaniif roobse;
bakakkaas biyya isaaniitti erge;
33 wayinii isaaniitii fi muka harbuu isaanii balleesse;
mukkeen biyya isaaniis ni caccabse.
34 Inni dubbannaan hawwaannisnii fi

korophisni hedduun dhufan;
35 isaanis biqiltuu biyya jaraa hunda nyaatan;
waan lafti isaanii baases ni fixan.
36 Ergasii inni hangafa biyya isaanii hunda,
jabina isaanii jalqabaas ni dha’e.

37 Akka sabni Israa’el meetii fi warqee baadhatee ba’u godhe;
gosa isaanii keessaa namni tokko iyyuu hin gufanne.
38 Israa’eloonni baanaan warri Gibxi gammadan;
isaan Israa’elin sodaatanii turaniitii.
39 Inni akka gaaddisaatti duumessa isaan irra qabe;
akka halkaniin isaaniif ibsuuf immoo ibidda qabsiiseef.
40 Isaan kadhannaan inni dimbiriqqee kenneef;
buddeena samiitiinis isaan quufse.
41 Innis kattaa bane; bishaanis keessaa gad dhangala’e;
akkuma bishaan lagaattis gammoojjii keessaa yaa’e.

42 Inni waadaa isaa qulqulluu,
kan garbicha isaa Abrahaamiif gale sana yaadateeraatii.
43 Inni saba isaa gammachuun,
warra isaaf filataman immoo ililleedhaan baaseera;
44 inni biyya ormootaa isaaniif kenne;
isaanis waan saboonni sun itti dadhaban dhaalan;
45 kanas akka isaan sirna isaa eeganii
seera isaatiif bulaniif godhe.

Haalleluuyaa.

## Uummanni Cubbuu Isaa Himate

# Faarfannaa 106

*106:1,47-48 kwf – 1Sn 16:34-36*

1 Haalleluuyaa.

WAAQAYYOOF galata galchaa; inni gaariidhaatii;
jaalalli isaa bara baraan jiraata.
2 Eenyutu hojii WAAQAYYOO jabaa sana labsuu,
yookaan galata isaa guutummaatti odeessuu danda’aa?
3 Warri jabeessanii murtii qajeelaa eegan,
warri yeroo hunda waan qajeelaa hojjetan eebbifamoo dha.

4 Yaa WAAQAYYO, yommuu saba keetti faara toltutti na yaadadhu;
yommuu isaan oolchituttis na gargaari;
5 akka ani badhaadhummaa filatamtoota keetii arguuf,
akka ani gammachuu saba keetii keessatti hirmaadhee
dhaala kee wajjin boonuuf na yaadadhu.

6 Nu akkuma abbootii keenyaa cubbuu hojjenneerra;
yakka hojjenneerra; hamminas hojjenneerra.
7 Abbootiin keenya yeroo biyya Gibxi keessa turanitti,
dinqii kee hin hubanne;
baay’ina araara keetiis hin yaadanne;

isaan galaana biratti, Galaana Diimaa biratti sitti fincilan.
8 Ta’us inni akka humni isaa guddaan sun beekamuuf,
maqaa isaatiif jedhee isaan oolche.
9 Inni Galaana Diimaa ifate; galaanichis ni goge;
akkuma waan gammoojjii keessa dabarsuutti lafa gogaa irra isaan dabarse.
10 Harka amajaajii isaanii keessaa isaan baase;
humna diinaa jalaas isaan fure.
11 Bishaanonni diinota isaanii liqimsan;
tokkoon isaanii iyyuu hin hafne.
12 Ergasii isaan dubbii isaa amananii
faarfannaadhaan isa galateeffatan.

13 Isaan garuu yommusuma waan inni hojjetee ture dagatan;
gorsa isaas obsaan hin eegganne.
14 Gammoojjii keessatti dharraa hamaadhaan guutaman;
lafa onaa keessattis Waaqa qoran.
15 Kanaafuu inni waan isaan kadhatan kenneef;
garuu dhukkuba nama huqqisu isaanitti erge.

16 Isaan qubata keessatti Musee fi
Aroon qulqullicha WAAQAYYOOTTI hinaafan.
17 Lafti afaan banattee Daataanin liqimsite;
garee Abiiraamis gad fudhatte.
18 Duuka buutoota isaanii gidduutti ibiddi boba’e;
arrabni ibiddaas hamoota fixe.

19 Isaan Kooreebitti jabbii tolfatan;
fakkii baqfamee tolfames waaqeffatan.
20 Isa Ulfina isaanii ta’e sana,
fakkii sangaa marga dheeduutti geeddaran.
21 Waaqa isaan fayyise,
isa biyya Gibxitti waan gurguddaa hojjete sana irraanfatan.
22 Dinqii inni biyya Haam keessatti hojjete,
hojii sodaachisaa inni Galaana Diimaa irratti hojjetes ni irraanfatan.
23 Kanaafuu utuu filatamaan isaa Museen
akka dheekkamsi Waaqaa isaan hin balleessineef
gidduu galee fuula isaa dura dhaabachuu baatee silaa
Waaqni akka isaan balleessu dubbatee ture.

24 Isaanis biyya namatti tolu sana tuffatan;
waadaa Waaqni gales hin amanne.
25 Dunkaanota isaanii keessatti ni guunguman;
WAAQAYYOOFIS hin ajajamne.
26 Kanaafuu inni akka gammoojjii keessatti
isaan gatu harka isaa ol qabatee kakate;
27 sanyii isaanii akka saboota gidduutti gatu,
biyyoota hunda keessas akka isaan bittinneessu kakate.

28 Isaan Ba’aal Phe’ooritti of kennanii
aarsaa waaqota lubbuu hin qabneef dhi’eeffame nyaatan.

29 Hojii isaanii hamaa sanaan
WAAQAYYOON dheekkamsaaf kakaasan;
dha'ichis isaan irra bu'e.
30 Garuu Fiinehaas ka'ee gidduu seennaan
dha'ichi sun dhaabate.
31 Kunis dhalootaa hamma dhalootaatti,
akka qajeelummaatti isaaf herregame.

32 Isaan bishaan Mariibaa biratti akka WAAQAYYO aaru godhan.
Museenis sababii isaaniitiif rakkate;
33 sababii isaan Hafuura Waaqaatti fincilaniif
Museen utuu itti hin yaadin dubbate.

34 Isaan akka WAAQAYYO isaan ajajetti,
saboota hin balleessine;
35 isaan garuu ormootatti makamanii
duudhaa isaanii baratan.
36 Waaqota isaanii tolfamoo,
kanneen kiyyoo isaanitti ta'an waaqeffatan.
37 Ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii
aarsaa godhanii hafuurota hamoof dhi'eessan.
38 Isaanis dhiiga warra balleessaa hin qabnee,
dhiiga ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii,
kan waaqota tolfamoo Kana'aaniif
aarsaa godhanii dhi'eessan sana dhangalaasan;
biyyattiinis dhiiga isaaniitiin faalamte.
39 Isaan waanuma hojjetaniin of xureessan;
hojii isaaniitiin sagaagaltoota of taasisan.

40 Kanaafuu WAAQAYYO saba isaatti aare;
handhuuraa isaas ni balfe.
41 Inni dabarsee ormootatti isaan kenne;
amajaajonni isaaniis of jalatti isaan bulchan.
42 Diinonni isaanii isaan cunqursan;
humna isaanii jalas isaan galfatan.
43 Inni yeroo baay'ee isaan baraare;
isaan garuu ittuma fufanii fincilan;
ittuma caalchisaniis cubbuu hojjetan.
44 Inni garuu yommuu iyya isaanii dhaga'etti,
rakkina isaanii hubate;
45 isaaniif jedhee kakuu isaa yaadate;
sababii jaalala isaa guddaa sanaatiif garaa laafeef.
46 Inni akka warri isaan booji'an hundinuu
garaa isaaniif laafaniif godhe.

47 Yaa WAAQAYYO, Waaqa keenya nu oolchi;
akka nu maqaa kee qulqulluu sana galateeffannuuf,
akka galata keetiin of jajnuufis,
ormoota keessaa walitti nu qabi.

48 WAAQAYYO, Waaqa Israa'eliitiif,

bara baraa hamma bara baraatti galanni haa ga’u.

Namni hundinuu “Ameen!” haa jedhu.

Haalleluuyaa!

# Kitaaba Shanaffaa

## 107

*Faarfannaa 107–150*

## Waaqa Rakkina Hunda Keessaa Nama Baasu

1 WAAQAYYOOF galata galchaa; inni gaariidhaatii;
jaalalli isaa bara baraan jiraata.

2 Warri WAAQAYYO isaan fure,
warri inni harka diinaatii baase,
3 warri inni biyya gara garaatii,
ba’aa fi lixa biiftuutii, kaabaa fi kibbaa walitti qabe waan kana haa dubbatan.

4 Isaan keessaa tokko tokko gammoojjii goggogaa keessa jooran;
magaalaa keessa jiraachuu danda’anis hin arganne.
5 Isaan ni beela’an; ni dheebotanis;
lubbuun isaaniis isaan keessatti gaggabde.
6 Isaan rakkina isaanii keessatti WAAQAYYOTTI iyyatan;
innis dhiphina isaanii keessaa isaan baase.
7 Inni hamma isaan magaalaa keessa jiraachuu danda’an ga’anitti
karaa qajeelaa irra isaan qajeelche.
8 Isaan sababii jaalala isaa kan hin geeddaramne sanaatii fi
hojii dinqii kan inni ilmaan namaatiif hojjete sanaatiif
WAAQAYYOON haa galateeffatan;
9 inni warra dheebotan dheebuu baasee
warra beela’an illee waan gaariidhaan quufsaatii.

10 Isaan keessaas tokko tokko sibiilaan hidhamanii rakkachaa,
dukkanaa fi dimimmisa keessa jiraatan;
11 isaan dubbii Waaqaatti fincilanii
gorsa Waaqa Waan Hundaa Oliis tuffataniiruutii.
12 Kanaafuu inni dabarsee hojii dadhabsiisaatti isaan kenne;
isaanis ni gufatan; namni isaan gargaaru tokko iyyuu hin argamne.
13 Isaan rakkina isaanii keessatti WAAQAYYOTTI iyyatan;
innis dhiphina isaanii keessaa isaan baase.
14 Inni dukkanaa fi dimimmisa keessaa isaan baase;
foncaa isaanis gargar kukkute.
15 Isaan sababii jaalala isaa kan hin geeddaramne sanaatii fi
hojii dinqii kan inni ilmaan namaatiif hojjete sanaatiif
WAAQAYYOON haa galateeffatan;
16 inni balbalawwan naasii caccabsee
danqaraawwan sibiilaa illee kukkutaatii.

17 Isaan keessaa tokko tokko cubbuu mataa isaaniitiin gowwooman;
sababii balleessaa isaaniitiifis gadadoo keessa seenan.
18 Isaan nyaata gosa kamii iyyuu balfanii

afaan boolla du’aa ga’an.
19 Rakkina isaanii keessatti WAAQAYYOTTI iyyatan;
innis dhiphina isaanii keessaa isaan baase.
20 Inni dubbii isaa ergee isaan fayyise;
awwaala keessaas isaan baase.
21 Isaan sababii jaalala isaa kan hin geeddaramne sanaatii fi
hojii dinqii kan inni ilmaan namaatiif hojjete sanaatiif,
WAAQAYYOON haa galateeffatan!
22 Aarsaa galataa haa dhi’eessan;
faarfannaa gammachuutiinis hojii isaa haa himan.

23 Isaan keessaa tokko tokko dooniidhaan galaana irra deemanii
bishaanota gurguddaa irratti daldalan.
24 Isaanis hojii WAAQAYYOOTII fi
hojii isaa dinqisiisaa sana tuujuba keessatti argan.
25 Inni dubbatee bubbee jabaa
dambalii galaanaa ol fuudhu tokko kaaseeraatii.
26 Isaan samiitti ol ba’anii tuujubatti gad bu’an;
rakkina isaanii keessattis abdii kutatan.
27 Akka nama machaa’ee daddarbatamanii gatantaran
ogummaan isaanis faayidaa dhabe.
28 Isaan rakkina isaanii keessatti WAAQAYYOTTI iyyatan;
innis dhiphina isaanii keessaa isaan baase.
29 Inni akka dambaliin sun qabbanaa’uuf
dha’aa galaanaa cal’isiise.
30 Isaan waan dambalii fi dha’aan galaanaa sun cal’isaniif ni gammadan;
haala kanaanis gara qubata doonii barbaadaniitti isaan geesse.
31 Isaan sababii jaalala isaa kan hin geeddaramne sanaatii fi
hojii dinqii kan inni ilmaan namaatiif hojjete sanaatiif
WAAQAYYOON haa galateeffatan.
32 Waldaa namootaa keessatti isa haa leellisan;
wal ga’ii maanguddootaa keessattis isa haa jajan.

33 Innis lagoota gammoojjii taasisee
burqaawwan bishaanis gara lafa goggogaatti geeddare;
34 sababii hammina warra achi jiraataniitiif,
biyya midhaan baasu lafa soogiddaa taasise.
35 Gammoojjii kuusaa bishaaniitti,
lafa goggogaa immoo burqaa bishaaniitti geeddare;
36 inni akka warri beela’an achi jiraatan godhe;
isaanis magaalaa keessa jiraatan ijaarratan.
37 Lafa qotiisaa isaanii facaafatanii wayiniis ni dhaabbatan;
midhaan gaariis argatan.
38 Inni isaan eebbise; baay’ina isaaniis akka malee dabale;
akka loon isaanii lakkoobsaan yarachaa deeman hin goone.

39 Yeroo isaan cunqursaadhaan, rakkinaa fi
gaddaan xinnaatanii gad deebi’anitti,
40 inni namoota bebeekamoo irratti tuffii roobsee
akka isaan gammoojjii karaa hin qabne keessa jooran godhe.
41 Inni garuu rakkattoota dhiphina isaanii keessaa baase;

maatii isaanis akkuma bushaayee baay’ise.
42 Qajeeltonni waan kana arganii ililchu;
hamoonni hundinuu garuu afaan qabatu.

43 Ogeessi kam iyyuu waan kana yaadatti haa qabatu;
jaalala WAAQAYYOO kan dhuma hin qabne sana illee haa hubatu.

## Faarfannaa Ganamaatii Fi Kadhannaa Biyyoolessaa

# Faarfannaa 108

*108:1-5 kwf – Far 57:7-11*
*108:6-13 kwf – Far 60:5-12*

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqi, garaan koo hin raafamu; ani nan faarfadha;
lubbuu koo guutuudhaanis sin galateeffadha.
2 Yaa kiraaraa fi baganaa dammaqaa!
Anis ganamaan nan dammaqa.
3 Yaa WAAQAYYO, ani saboota gidduutti galata siif nan galcha;
namoota gidduuttis waa’ee kee nan faarfadha.
4 Jaalalli kee guddaa dha; samiiwwanis caalaa ol dheeraadhaatii;
amanamummaan kees samiiwwan qaqqaba.
5 Yaa Waaqi, ati samiiwwaniin olitti ol ol jedhi;
ulfinni kees lafa hunda irra haa jiraatu.

6 Akka warri ati jaallattu furamaniif,
harka kee mirgaatiin nu oolchi; nu gargaaris;
7 Waaqni iddoo qulqullummaa isaatii akkana jedhee dubbateera:
“Ani gammachuudhaan Sheekemin gargar nan qooda;
Sulula Sukootis nan safara.
8 Gili’aad kan koo ti; Minaaseenis kan koo ti;
Efreem gonfoo sibiilaa koo ti;
Yihuudaanis bokkuu mootummaa koo ti.
9 Mo’aab caabii dhiqannaa koo ti;
Edoom irra kophee koo darbadhee nan buusa;
Filisxeem irrattis mo’annaadhaan nan geerara.”

10 Eenyutu magaalaa jabeeffamtee ijaaramtetti na fida?
Eenyutu Edoomitti na geessa?
11 Yaa Waaqi kan nu gatte,
kan loltoota keenya wajjin ba’uu diddes suma mitii?
12 Diina keenya of irraa dhowwuu nu gargaar,
gargaarsi namaa faayidaa hin qabuutii.
13 Nu Waaqa wajjin ni mo’anna;
innis diinota keenya gad dhidhiita.

## Kadhannaa Haaloo Baasuuf Dhi’aate

# Faarfannaa 109

Dura Bu’aa Faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqa ani galateeffadhu
ati hin cal’isin;
2 namoonni hamoonnii fi gowwoomsitoonni,
afaan isaanii natti banatanii jiruutii;

isaan arraba sobaatiin maqaa na balleessaniiru.
3 Isaan dubbii jibbaatiin na marsan;
sababii tokko malees na lolan.
4 Utuma ani isaan jaalladhuu na himatan;
ani garuu nan kadhadha.
5 Qooda waan gaarii hammina,
qooda jaalala koo immoo jibba naa deebisan.

6 Akka inni isa mormuuf nama itti ramadi;
seexannis karaa mirga isaa haa dhaabatu.
7 Yommuu qoratamutti isatti haa muramu;
kadhannaan isaas cubbuu isatti haa ta'u.
8 Umuriin isaa haa gabaabbatu,
aangoo isaa namni biraa haa fudhatu.
9 Ijoolleen isaa abbaa malee haa hafan;
niitiin isaas haadha hiyyeessaa haa taatu.
10 Ijoolleen isaa kadhattoota asii fi achi jooran haa ta'an;
mana isaanii diigamaa keessaa illee haa ari'aman.
11 Waan inni qabu hunda namni isa irraa liqii qabu haa fudhatu;
bu'aa dadhabbii isaa illee karaa adeemtonni haa saaman.
12 Namni tokko iyyuu isaaf hin na'in,
yookaan ijoollee isaa kanneen abbaa hin qabneef garaa hin laafin.
13 Sanyiin isaa haa dhumu;
maqaan isaanii dhaloota itti aanu keessaa haa balleeffamu.
14 Balleessaan abbootii isaa fuula Waaqayyoo duratti haa yaadatamu;
cubbuun haadha isaas hin haqamin.
15 Akka inni seenaa isaanii lafa irraa balleessuuf,
cubbuun isaanii yeroo hunda fuula Waaqayyoo dura haa jiraatu.

16 Inni hiyyeeyyii fi rakkattoota,
warra garaan isaanii madaa'es hamma du'aatti gugse malee
garaa isaaniif laafuu hin yaadneetii.
17 Inni abaaruu jaallate;
abaarsi sun isumatti haa deebi'u;
inni eebbisuu hin jaallanne;
eebbis isa irraa haa fagaatu.
18 Inni akkuma uffata isaatti abaarsa uffata;
abaarsis akkuma bishaanii dhagna isaa seena;
akkuma zayitiis lafee isaa lixa.
19 Abaarsi sun akkuma uffata inni ittiin of haguuguu,
sabbata inni yeroo hunda hidhatuus isatti haa ta'u.
20 Kaffaltiin Waaqayyo warra na himatanii fi
warra jireenya koo irratti waan hamaa dubbataniif kaffalu kanuma haa ta'u.

21 Yaa Waaqayyo Gooftaa,
ati garuu maqaa keetiif jedhii na gargaar;
gaarummaa jaalala keetiitiif jedhiitii na oolchi.
22 Ani hiyyeessaa fi rakkataadhaatii;
garaan koos na keessatti madaa'eera.
23 Ani akkuma gaaddidduu galgalaa badeera;
akkuma hawwaannisaas olii gad oofameera.

24 Jilbi koo soomuudhaan dadhabeera;
dhagni koos huqqatee lafeetti ba'eera.
25 Ani warra na himatan biratti waan tuffii ta'eera;
isaan yommuu na argan mataa isaanii raasu.

26 Yaa Waaqayyo Waaqa ko, na gargaari;
akkuma jaalala keetiittis na oolchi.
27 Yaa Waaqayyo, akka wanni kun harka kee ta'e,
akka ati waan kana hojjette isaan haa beekan.
28 Isaan ni abaaru; ati garuu ni eebbifta;
yommuu natti ka'an isaan ni qaana'u;
tajaajilaan kee garuu ni gammada.
29 Himattoonni koo salphina haa uffatan;
akkuma nama waaroo uffatuutti qaaniidhaan haa haguugaman.

30 Ani afaan kootiin guddisee Waaqayyoon nan galateeffadha;
waldaa guddaa gidduuttis isa nan jajadha.
31 Innis warra lubbuu isaatti muran jalaa isa baasuuf jedhee,
karaa harka mirga rakkataatiin dhaabataatii.

## Waaqayyo Mootiidhaaf Ol aantummaa Kennuu Isaa

# Faarfannaa 110

Faarfannaa Daawit.
1 Waaqayyo, gooftaa kootiin:

"Hamma ani diinota kee ejjeta miilla keetii godhutti,
karaa mirga koo taa'i" jedhe.

2 Waaqayyo, "Diinota kee gidduutti mo'i" jedhee
bokkuu aangoo keetii Xiyoonii siif erga.
3 Gaafa ati waraanaaf baatu,
loltoonni kee fedhee isaaniitiin si faana qajeelu.
Ati gadameessa ganamaa keessaa,
surraa qulqulluu gonfattee fixeensa dargaggummaa keetii qabaatta.

4 Waaqayyo, "Akka sirna Malkiiseedeqitti,
ati luba bara baraa ti" jedhee kakateera.
Inni yaada isaa hin geeddaru.

5 Gooftaan karaa harka kee mirgaa jira;
inni guyyaa dheekkamsa isaatti mootota ni burkuteessa.
6 Inni reeffa tuuluudhaan, bulchitoota guutummaa lafaa
barbadeessuudhaan sabootatti mura.
7 Innis laga karaa cina jiru keessaa ni dhuga;
kanaafuu mataa ol qabata.

## Hojii Waaqayyoo Dinqisiifachuu

# Faarfannaa 111

1 Haalleluuyaa.

Ani waldaa tolootaatii fi wal ga'ii keessatti,

garaa koo guutuudhaan WAAQAYYOON nan galateeffadha.

2 Hojiin WAAQAYYOO guddaa dha;
warri itti gammadan hundinuus irra deddeebi'anii yaadan.
3 Hojiin isaa surra qabeessaa fi kabajamaa dha;
qajeelummaan isaas bara baraan jiraata.
4 Inni akka dinqiin isaa yaadatamu godheera;
WAAQAYYO arjaa fi gara laafessa.
5 Inni warra isa sodaataniif nyaata kenna;
kakuu isaas bara baraan ni yaadata.

6 Lafa saboota kaanii isaaniif
kennuudhaan humna hojii isaa saba isaatti mul'iseera.
7 Hojiin harka isaa amanamaa fi qajeelaa dha;
ajajni isaa hundinuus amanamaa dha.
8 Isaanis bara baraa hamma bara baraatti jabaatanii dhaabatu;
amanamummaa fi qajeelummaadhaanis hojjetamu.
9 Inni saba isaatiif furii ergeera;
kakuu isaas bara baraan ajajeera;
maqaan isaa qulqulluu fi sodaachisaa dha.

10 WAAQAYYOON sodaachuun jalqaba ogummaa ti;
warri sirna isaa faana bu'an hundinuu hubannaa gaarii qabu.
Galanni isaa bara baraan jiraata.

## Eebbifamuu Nama Qajeelaa

# Faarfannaa 112

1 Haalleluuyaa.

Namni WAAQAYYOON sodaatu,
kan ajaja isaatti baay'ee gammadu eebbifamaa dha.

2 Sanyiin isaa lafa irratti jabaa ta'a;
dhaloonni tolootaa ni eebbifama.
3 Qabeenyii fi badhaadhummaan mana isaa keessa jira;
qajeelummaan isaas bara baraan jiraata.
4 Nama tolaa fi arjaadhaaf,
gara laafessaa fi qajeelaaf,
dukkana keessatti iyyuu ifni ni ba'a.
5 Nama arjaa fi nama waa namaa liqeessuuf,
nama hojii isaa qajeelummaadhaan adeemsifatuuf
waan gaariitu ta'a.
6 Dhugumaan inni gonkumaa hin raafamu;
namni qajeelaan bara baraan yaadatama.
7 Inni oduu hamaa hin sodaatu;
garaan isaas WAAQAYYOON amanachuudhaan
jabaatee dhaabata.
8 Garaan isaa hin raafamu; hin sodaatus;
dhuma irrattis diinota isaa mo'ata.
9 Inni ni bittinneesse; hiyyeeyyiifis ni kenne;
qajeelummaan isaa bara baraan ni jiraata;

gaanfi isaas ulfinaan ol qabama.

10 Namni hamaan waan kana argee aara;
ilkaan isaa qara; baqees ni bada;
hawwiin hamootaa faayidaa malee hafa.

## Galata WAAQAYYOOF Dhi’eeffame

# Faarfannaa 113

1 Haalleluuyaa.

Yaa tajaajiltoota WAAQAYYOO, galata galchaa;
maqaa WAAQAYYOO jajadhaa.
2 Ammaa hamma bara baraatti
maqaan WAAQAYYOO haa eebbifamu.
3 Ba’a biiftuutii hamma lixa biiftuutti,
maqaan WAAQAYYOO haa jajamu.

4 WAAQAYYO saba hundaa ol jira;
ulfinni isaas samiiwwanii ol.
5 Kan akka WAAQAYYO Waaqa keenya
isa gubbaa teessoo isaa irra taa’u sanaa eenyu?
6 Kan gad jedhee
samii fi lafa ilaalu eenyu?

7 Inni hiyyeessa awwaara keessaa ni kaasa;
rakkataas tuulaa daaraa keessaa ol fuudha;
8 inni bulchitoota gidduu,
bulchitoota saba isaa gidduus isaan teessisa.
9 Inni akkuma haadha ijoollee kan gammachuudhaan jiraattuutti,
dubartii maseena mana ishee keessa ni jiraachisa.

Haalleluuyaa.

## Faarfannaa Faasiikaaf Dhi’eeffamu

# Faarfannaa 114

1 Yeroo sabni Israa’el biyya Gibxii, manni Yaaqoobis
saba afaan ormaa dubbatu keessaa ba’etti,
2 Yihuudaan mana qulqullummaa Waaqaa,
Israa’el immoo bulchiinsa isaa ta’e.

3 Galaanni argee baqate;
Yordaanosis duubatti deebi’e;
4 tulluuwwan akka korbeeyyii hoolaa,
gaarranis akkuma xobbaallaawwan hoolaa burraaqan.

5 Yaa galaana, ati maaliif baqatte?
Yaa Yordaanos, atis maaliif duubatti deebite?
6 Yaa tulluuwwan, isin maaliif akka korbeeyyii hoolaa,
yaa gaarran isinis maaliif akka xobbaallaawwan hoolaa burraaqxu?

7 Yaa lafa, fuula Gooftaa duratti,

fuula Waaqa Yaaqoob duratti holladhu;
8 inni kattaa gara harootti,
kattaa jabaa immoo gara burqaa bishaaniitti geeddare.

## Waaqa Dhugaa Tokkicha

# Faarfannaa 115

*115:4-11 kwf – Far 135:15-20*

1 Nuuf miti; yaa WAAQAYYO, nuuf miti;
garuu jaalalaa fi amanamummaa keetiif jedhiitii
maqaa keetiif ulfina kenni.

2 Saboonni maaliif,
“Waaqni isaanii eessa jira?” jedhu?
3 Waaqni keenya samii keessa jira;
inni waan isa gammachiisu kam iyyuu ni hojjeta.
4 Waaqonni isaanii tolfamoon garuu meetii fi
warqee harka namaatiin hojjetamanii dha.
5 Isaan afaan qabu; garuu dubbachuu hin danda’an;
ijas qabu; garuu arguu hin danda’an;
6 gurra qabu; garuu dhaga’uu hin danda’an;
funyaan qabu; garuu fuunfachuu hin danda’an;
7 harka qabu; garuu qaqqabachuu hin danda’an;
miilla qabu; garuu deemuu hin danda’an;
laagaa isaanii keessattis sagalee tokko illee hin uuman.
8 Warri isaan tolchan
kanneen isaan amanatan hundi akkuma isaanii ta’u.

9 Yaa mana Israa’el, WAAQAYYOON amanadhu;
inni gargaarsaa fi gaachana isaanii ti.
10 Yaa mana Aroon, WAAQAYYOON amanadhu;
inni gargaarsaa fi gaachana isaanii ti.
11 Isin warri isa sodaattan, WAAQAYYOON amanadhaa;
inni gargaarsaa fi gaachana isaanii ti.

12 WAAQAYYO nu yaadata; nu eebbisas;
inni mana Israa’el ni eebbisa;
mana Aroonis ni eebbisa;
13 inni warra WAAQAYYOON sodaatan,
xinnaas guddaas ni eebbisa.

14 WAAQAYYO, isinii fi
ijoollee keessan haa baay’isu.
15 WAAQAYYO samii fi
lafa Uume sun isin haa eebbisu.

16 Samiin samiiwwanii oliis kan WAAQAYYOO ti;
lafa garuu inni namaaf kenneera.
17 Warri du’an yookaan warri gara iddoo cal’isanitti gad bu’an
WAAQAYYOON galateeffachuu hin danda’an;
18 nu garuu ammaa jalqabnee bara baraan
WAAQAYYOON ni eebbifna.

Haalleluuyaa.

## Haalleluuyaa

# Faarfannaa 116

1 Ani WAAQAYYOON nan jaalladha;
inni sagalee waammata kootii naa dhaga'eeraatii.
2 Sababii inni gurra isaa gara kootti deebiseef,
ani hamman lubbuun jiraadhutti isa nan waammadha.

3 Kiyyoon du'aa na marse;
dhiphinni Sii'oolis na qabate;
ani rakkinaa fi gaddaan nan mo'ame.
4 Anis, "Yaa WAAQAYYO na oolchi!" jedhee
maqaa WAAQAYYOO nan waammadhe.

5 WAAQAYYO arjaa fi qajeelaa dha;
Waaqni keenya gara laaffessa.
6 WAAQAYYO garraamota ni eega;
yeroo ani baay'ee rakkadhetti isatu na gargaare.

7 Yaa lubbuu ko, boqonnaa keetti deebi'i;
WAAQAYYO waan gaarii siif godheeraatii.

8 Ati yaa WAAQAYYO lubbuu koo du'a irraa,
ija koo imimmaan irraa,
miilla koo gufachuu irraa waan oolchiteef,
9 ani biyya warra jiraatoo keessa,
fuula WAAQAYYOO dura nan jiraadha.
10 Ani yeroo, "Ani baay'ee dhiphadheera" jedhetti,
amantii koo eeggadheera.
11 Ani yommuun burjaaja'etti,
"Namni hundinuu sobduu dha" nan jedhe.

12 Waan gaarii inni naa godhe hundaaf,
ani WAAQAYYOOF maalan deebisa?
13 Ani xoofoo fayyinaa ol kaasee
maqaa WAAQAYYOO nan waammadha.
14 Fuula saba isaa hundumaa duratti,
ani wareega koo WAAQAYYOOF nan galcha.

15 Duuti qulqulloota isaa,
fuula WAAQAYYOO duratti ulfina qaba.
16 Yaa WAAQAYYO, ani dhugumaan tajaajilaa kee ti;
ani tajaajilaa kee ilma tajaajiltuu keetii ti;
ati foncaa koo narraa hiikteerta.

17 Ani aarsaa galataa siif nan dhi'eessa;
maqaa WAAQAYYOOS nan waammadha.
18 Iddoo sabni isaa hundi jirutti,
ani wareega koo WAAQAYYOOF nan galcha;

19 yaa Yerusaalem si keessatti,
oobdii mana WAAQAYYOO irrattis nan galcha.

Haalleluuyaa.

## Waamicha Galataa

# Faarfannaa 117

1 Saboonni hundi WAAQAYYOON jajadhaa;
isin namoonni hundinuu isa leellisaa.
2 Jaalalli inni nuuf qabu guddaadhaatii;
amanamummaan WAAQAYYOO bara baraan jiraata.

Haalleluuyaa.

## Faarfannaa Ayyaana Daasii

# Faarfannaa 118

1 WAAQAYYOOF galata galchaa; inni gaariidhaatii;
jaalalli isaa bara baraan jiraata.

2 Sabni Israa'el, "Jaalalli isaa
bara baraan jiraata" haa jedhu.
3 Manni Aroonis,
"Jaalalli isaa bara baraan jiraata" haa jedhu.
4 Warri WAAQAYYOON sodaatan,
"Jaalalli isaa bara baraan jiraata" haa jedhan.

5 Dhiphina koo keessatti ani WAAQAYYOTTI nan iyyadhe;
innis deebii naa kenne; iddoo bal'aas na qubachiise.
6 WAAQAYYO na wajjin jira; ani hin sodaadhu;
namni maal na gochuu danda'a?
7 WAAQAYYO na wajjin jira; inni gargaaraa koo ti.
Anis diinota koo nan mo'adha.

8 Nama amanachuu irra,
WAAQAYYOTTI kooluu galuu wayya.
9 Qondaaltota amanachuu irra,
WAAQAYYOTTI kooluu galuu wayya.

10 Saboonni hundinuu na marsan;
ani garuu maqaa WAAQAYYOOTIIN isaan nan barbadeesse.
11 Isaan karaa hundaan na marsan;
ani garuu maqaa WAAQAYYOOTIIN isaan nan barbadeesse.
12 Akkuma tuuta kanniisaa na marsan;
garuu akka qoraattii gubatuutti barbadaa'an;
anis maqaa WAAQAYYOOTIIN isaan nan barbadeesse.

13 Ani dhiibamee kufuu ga'een ture;
WAAQAYYO garuu na gargaare.
14 WAAQAYYO jabina kootii fi faarfannaa koo ti;
inni fayyina koo ta'eera.

15 Sagaleen gammachuutii fi mo'annaa dunkaanota
qajeeltotaa keessaa ni dhaga'ama;
"Harki WAAQAYYOO kan mirgaa waan jabaa hojjeteera!
16 Harki WAAQAYYO mirgaa ol qabameera;
harki WAAQAYYOO mirgaa waan jabaa hojjeteera!"

17 Ani nan jiraadha malee hin du'u;
waan WAAQAYYO hojjetes nan labsa.
18 WAAQAYYO jabeessee na adabeera;
garuu dabarsee du'atti na hin kennine.

19 Karra qajeelummaa naa banaa;
anis ol galee WAAQAYYOOF galata nan galcha.
20 Kun karra WAAQAYYOO,
kan qajeeltonni ittiin ol galanii dha.
21 Ati deebii naa kenniteertaatii, ani sin galateeffadha;
ati fayyina naa taateerta.

22 Dhagaan ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee ta'eera;
23 WAAQAYYO waan kana hojjeteera;
kunis ija keenyatti dinqii dha.
24 Guyyaan kun guyyaa WAAQAYYO uumee dha;
kottaa ni ililchina; itti gammannas.

25 Yaa WAAQAYYO, si kadhannaa nu oolchi;
Yaa WAAQAYYO, si kadhannaa nu milkoomsi.
26 Kan maqaa WAAQAYYOOTIIN dhufu eebbifamaa dha.
Nu mana WAAQAYYOO keessaa isin eebbifna.
27 WAAQAYYO Waaqa;
ifa isaas nuu irratti ibseera.
Dameewwan harkatti qabadhaatii
warra ayyaaneffachuu dhaqanitti makamaa;
gara gaanfawwan iddoo aarsaas dhaqaa.

28 Ati Waaqa koo ti; ani sin galateeffadha;
ati Waaqa koo ti; anis sin leellisa.

29 WAAQAYYOOF galata galchaa; inni gaariidhaatii;
jaalalli isaa bara baraan jiraata.

## Seera Waaqaa Jajachuu

# Faarfannaa 119

*א Aleef*

1 Warri jireenyi isaanii mudaa hin qabne,
kanneen akka seera WAAQAYYOOTTI jiraattan eebbifamoo dha.
2 Warri ajajawwan isaa eegan,
kanneen garaa guutuun isa barbaadan eebbifamoo dha.
3 Isaan balleessaa hin hojjetan;
karaa isaa irras ni deemu.

4 Akka Seerri kee amanamummaadhaan
eegamuuf ati ajajjeerta.
5 Akka ani ajaja kee eeguuf
utuu karaan koo naa qajeelee jiraatee!
6 Ani utuun ajajawwan kee hunda xiyyeeffadhee ilaalee
silaa hin qaana'un ture.
7 Ani yommuun seera kee qajeelaa sana baradhutti,
garaa tolaadhaan sin galateeffadha.
8 Ani sirna keetiif nan bula;
ati gonkumaa na hin dhiisin.

ב *Beet*

9 Dargaggeessi akkamitti jireenya qulqulluu jiraachuu danda'a?
Akka dubbii keetiitti jiraachuudhaan.
10 Ani garaa koo guutuudhaan sin barbaada;
akka ani ajajawwan kee irraa jal'adhu na hin godhin.
11 Ani akkan cubbuu sitti hin hojjenneef,
dubbii kee garaa koo keessa dhokfadheera.
12 Yaa WAAQAYYO, galanni siif haa ta'u;
sirna kee na barsiisi.
13 Ani seera afaan keetii ba'u hundumaa,
afaan kootiin nan dubbadha.
14 Akkuma namni tokko badhaadhummaa guddaatti gammadu,
ani ajaja kee faana bu'uutti nan gammada.
15 Ajajawwan kee irra deddeebi'ee nan yaada;
karaa kee irraas ija koo hin buqqifadhu.
16 Ani sirna keetti nan gammada;
dubbii kees hin dagadhu.

ג *Giimeel*

17 Akka ani jiraadhuu fi dubbii kee eeguuf,
garbicha keetiif waan gaarii godhi.
18 Akka ani seera kee keessatti
waan dinqisiisaa arguuf, ija koo naa bani.
19 Ani lafa irratti keessummaa dha;
ajajawwan kee na duraa hin dhoksin.
20 Lubbuun koo yeroo hunda
seera kee hawwuudhaan, laafaa jirti.
21 Ati of tuultota warra abaaramoo,
kanneen ajajawwan kee irraa jal'atan ni ifatta.
22 Waan ani seera kee eeguuf,
arrabsoo fi tuffii isaanii narraa fageessi.
23 Bulchitoonni walii wajjin taa'anii yoo maqaa na balleessan iyyuu,
tajaajilaan kee irra deddeebi'ee labsii kee ni yaada.
24 Ajajni kee gammachuu koo ti;
gorsituu kootis.

ד *Daalet*

25 Lubbuun koo biyyootti maxxante;
ati akkuma dubbii keetiitti na oolchi.
26 Yeroo ani waa'ee karaa koo sitti himetti,
ati deebii naa kennite; sirna kees na barsiisi.
27 Barsiisa seera keetii na hubachiisi;
anis irra deddeebi'ee dinqii kee nan yaada.
28 Lubbuun koo gaddaan laafteerti;

ati akkuma dubbii keetiitti na jabeessi.
29 Karaa sobaa irraa na fageessi;
arjumaadhaanis seera kee na barsiisi.
30 Ani karaa dhugaa filadheera;
seera kees of dura kaa'adheera.
31 Yaa WAAQAYYO, ani ajaja kee
jabeessee qabadheera; ati na hin qaanessin.
32 Sababii ati hubannaa koo naa bal'ifteef
ani daandii ajajawwan keetii irra nan fiiga.

ה *Hee*

33 Yaa WAAQAYYO, akka ani sirna kee duukaa bu'u na barsiisi;
anis hamma dhumaatti isa nan eega.
34 Akka ani seera kee eegee garaa koo guutuun
isaaf ajajamuuf hubannaa naa kenni.
35 Daandii ajajawwan keetii irra na deemsisi;
anis achitti gammachuu nan argadhaatii.
36 Garaa koo gara ofittummaadhaan faayidaa argachuutti utuu hin ta'in,
gara sirna keetiitti naa deebisi.
37 Ija koo waan faayidaa hin qabne irraa deebisi;
akkuma dubbii keetiittis na jiraachisi.
38 Ati akka sodaatamtuuf,
waadaa kee garbicha keetiif guuti.
39 Salphina ani sodaadhu narraa fageessi;
seerri kee gaariidhaatii.
40 Kunoo, ani sirna kee nan hawwa;
qajeelummaa keetiin na jiraachisi.

ו *Waw*

41 Yaa WAAQAYYO, jaalalli kee kan hin geeddaramne sun,
fayyisuun kees akkuma dubbii keetiitti gara koo haa dhufu;
42 yoos ani sababii dubbii kee amanadhuuf,
warra na arrabsaniif deebii kenna.
43 Waan ani seera kee abdadheef,
ati dubbii dhugaa afaan koo keessaa hin balleessin.
44 Bara baraa hamma bara baraatti,
ani yeroo hunda seera kee nan eega.
45 Ani ajaja kee waanan barbaaduuf,
bilisummaadhaan nan deddeebi'a.
46 Ani waa'ee ajaja keetii mootota duratti nan dubbadha;
hin qaaneffamus;
47 waan ani ajajawwan kee jaalladhuuf,
isaanitti nan gammada.
48 Ani gara ajajawwan kee kanneen ani jaalladhu sanaatti
harka koo ol nan fudhadha;
labsii kees irra deddeebi'ee nan yaada.

ז *Zaayin*

49 Waadaa tajaajilaa keetiif seente sana yaadadhu;
ati isumaan abdii naa kenniteertaatii.
50 Rakkina koo keessatti jajjabinni koo kana:
Waadaan kee na jiraachisa.
51 Of tuultonni akkuma barbaadanitti natti qoosu;
ani garuu seera kee irraa hin jal'adhu.
52 Yaa WAAQAYYO, ani seera kee durii sana nan yaadadha;

isa keessattis jajjabina nan argadha.
53 Sababii hamoota warra seera kee dhiisaniitiif,
aariin na gugguba.
54 Iddoo keessummummaa koo hundatti
seerri kee faarfannaa koo ti.
55 Yaa WAAQAYYO, ani halkan keessa maqaa kee nan yaadadha;
seera kees nan eega.
56 Waan ani ajaja kee eegeef,
kun naaf ta'eera.

### ח Heeti

57 Yaa WAAQAYYO, ati qooda koo ti;
anis dubbii keetiif ajajamuuf waadaa galeera.
58 Ani garaa koo guutuun fuula kee barbaaddadheera;
ati akkuma waadaa keetiitti naa araarami.
59 Ani karaa koo itti deddeebi'ee yaadeera;
tarkaanfii koo gara sirna keetiitti deebiseera.
60 Ani ajajawwan kee eeguuf,
nan ariifadha; hin barfadhus.
61 Hamoonni yoo funyoodhaan na hidhan iyyuu,
ani seera kee hin irraanfadhu.
62 Sababii seera kee qajeelaa sanaatiif,
ani si galateeffachuuf jedhee halkan walakkaa nan ka'a.
63 Ani warra si sodaatan hundaaf,
warra ajaja kee eegan hundaafis michuu dha.
64 Yaa WAAQAYYO, lafti jaalala keetiin guutamteerti;
sirna kee na barsiisi.

### ט Teeti

65 Yaa WAAQAYYO, ati akkuma dubbii keetiitti,
tajaajilaa keetiif waan gaarii gooteerta.
66 Murtii gaarii fi beekumsa na barsiisi;
ani ajajawwan keetti nan amanaatii.
67 Ani utuun hin rakkatin karaa irraa badee ture;
amma garuu dubbii kee nan eega.
68 Ati gaarii dha; wanni ati hojjettus gaarii dha;
sirna kee na barsiisi.
69 Of tuultonni yoo sobaan maqaa na balleessan iyyuu,
ani garaa koo guutuudhaan seera kee nan eega.
70 Onneen isaanii mooraan haguugamteerti;
ani garuu seera keetti nan gammada.
71 Akka ani sirna kee baradhuuf,
rakkachuun koo anaaf gaarii ture.
72 Meetii fi warqee kumaatama irra,
seeri afaan keetii ba'u anaaf gaariidha.

### י Yood

73 Harki kee na uume; na tolches;
akka ani ajaja kee baradhuuf ati hubannaa naa kenni.
74 Sababii ani dubbii kee abdadheef,
warri si sodaatan yommuu na arganitti haa gammadan.
75 Yaa WAAQAYYO, ani akka murtiin kee qajeelaa ta'e,
akka atis amanamummaadhaan na dhiphiste beeka.
76 Akkuma ati tajaajilaa keetiif waadaa galte sanatti,
jaalalli kee kan hin geeddaramne sun na haa jajjabeessu.

77 Akka ani lubbuun jiraadhuuf gara laafinni kee gara koo haa dhufu;
seerri kee gammachuu kootii.
78 Of tuultonni waan sababii malee na yakkaniif haa qaana'an;
ani garuu irra deddeebi'ee seera kee nan yaada.
79 Warri si sodaatan, kanneen seera kee hubatan
gara kootti haa deebi'an.
80 Akka ani hin qaanofneef
garaan koo seera kee duratti hanqina hin qabaatin.

*כ Kaaf*

81 Lubbuun koo fayyisuu kee hawwuudhaan gaggabdi;
ani garuu dubbii kee nan abdadha.
82 Iji koo waadaa kee eeggachuudhaan dadhabe;
anis, "Ati yoom na jajjabeessita?" nan jedha.
83 Qalqalloo wayinii kan aara keessa ture
fakkaadhus ani ajaja kee hin irraanfadhu.
84 Tajaajilaan kee hamma yoomiitti obsuu qaba?
Ati warra na ari'atanitti yoom murta?
85 Of tuultonni warri akka seera keetiitti hin bulle,
boolla naa qotaniiru.
86 Ajajawwan kee hundinuu amanamoo dha;
namoonni sababii malee waan na ari'ataniif ati na gargaari.
87 Isaan lafa irraa na balleessuu ga'anii turan;
ani garuu sirna kee hin dhiifne.
88 Ati akkuma jaalala keetiitti lubbuu koo baraari;
anis seera afaan keetii ba'u nan eega.

*ל Laamed*

89 Yaa WAAQAYYO, dubbiin kee bara baraan jiraata;
samii keessas jabaatee ni dhaabata.
90 Amanamummaan kee dhaloota hundaaf itti fufa;
ati lafa hundeessite; isheenis ni jiraatti.
91 Sababii wanni hundinuu si tajaajiluuf,
seerri kee hamma har'aatti jiraateera.
92 Utuu seerri kee gammachuu naa ta'uu baatee,
ani silaa rakkina kootiin badeen ture.
93 Sababii ati isaan na jiraachifteef,
ani gonkumaa ajaja kee hin irraanfadhu.
94 Sababii ani kan kee ta'eef na fayyisi;
anis sirna kee barbaadeera.
95 Hamoonni na balleessuuf na eeggachaa jiru;
ani garuu irra deddeebi'ee seera kee nan yaada.
96 Ani akka wanni mudaa hin qabnee hundinuu daangaa qabu argeera;
ajajni kee garuu baay'ee bal'aa dha.

*מ Meem*

97 Ani seera kee akkaman jaalladha!
Guyyaa guutuu irra deddeebi'ee waa'ee isaa nan yaada.
98 Ajajawwan kee waan yeroo hunda na wajjin jiraniif,
diinota koo caalaa ogeessa na godhan.
99 Ani sababiin irra deddeebi'ee seera kee yaaduuf,
barsiisota koo hundumaa caalaa hubannaa qaba.
100 Ani sababiin ajaja kee eeguuf,
maanguddoota caalaa hubannaa guddaan qaba.

101 Ani akkan dubbii kee eeguuf,
karaa hamaa hunda irraa miilla koo adabadheera.
102 Waan ati mataan kee na barsiifteef,
ani seera kee irraa hin fagaanne.
103 Dubbiin kee akkam arraba kootti mi’aawa;
nadhii dammaa caalaa afaan kootti mi’aawa!
104 Ani qajeelfama kee irraa hubannaa argadheera;
kanaafuu daandii sobaa hunda nan jibba.

*נ Nuun*

105 Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha;
daandii kootiif immoo ifa.
106 Ani akkan seera kee qajeelaa sana eeguuf, kakadheera;
kanas mirkaneesseera.
107 Ani akka malee dhiphadheen jira; yaa WAAQAYYO,
ati akkuma dubbii keetiitti lubbuu koo baraari.
108 Yaa WAAQAYYO,
galata fedhiidhaan afaan kootii ba’u fudhadhu;
seera kees na barsiisi.
109 Jireenyi koo yeroo hunda harka koo keessa jiraatu iyyuu,
ani seera kee hin irraanfadhu.
110 Hamoonni kiyyoo naa kaa’aniiru;
ani garuu ajaja kee irraa hin jal’anne.
111 Seerri kee dhaala koo kan bara baraa ti;
gammachuu garaa kootiitis.
112 Garaan koo hamma dhumaatti
ajaja kee eeguuf kutateera.

*ס Saamek*

113 Ani nama yaada lamaa nan jibba;
seera kee garuu nan jaalladha.
114 Ati iddoo ani itti baqadhuu fi gaachana koo ti;
ani dubbii kee abdadheera.
115 Akka ani ajajawwan Waaqa koo eeguuf,
isin warri waan hamaa hojjettan narraa fagaadhaa!
116 Ati akkuma waadaa keetiitti na deeggari;
anis nan jiraadha;
akka ani abdii kootti qaana’u na hin godhin.
117 Akka ani nagaadhaan jiraadhuuf na deeggari;
yeroo hunda seera kee nan kabaja.
118 Sababii gowwoomsaan isaanii faayidaa hin qabneef;
ati warra seera kee irraa jal’atan hunda tuffattee gatta.
119 Ati hamoota lafa irraa hunda akka kosiitti gatta;
kanaafuu ani seera kee nan jaalladha.
120 Foon koo si sodaachuudhaan hollata;
anis murtii kee nan sodaadha.

*ע Aayin*

121 Ani waan qajeelaa fi tolaa hojjedheera;
ati warra na hacuucanitti dabarsitee na hin kennin.
122 Nagaan jiraachuu tajaajilaa keetii mirkaneessi;
akka of tuultonni na cunqursanis hin eeyyamin.
123 Iji koo fayyisuu kee eeguudhaan,
waadaa kee qajeelaas eeguudhaanis dadhabeera.
124 Akkuma jaalala keetiitti tajaajilaa kee yaadadhu;
seera kees na barsiisi.

125 Ani tajaajilaa kee ti;
akka ani ajaja kee beekuuf hubannaa naa kenni.
126 Yaa WAAQAYYO, kun yeroo ati itti hojjettuu dha;
seerri kee cabsamaa jiraatii.
127 Kanaafuu ani warqee caalaa,
warqee qulqulluu caalaa, ajajawwan kee nan jaalladha;
128 ani akka seerri kee hundi qajeelaa ta'e nan amana;
daandii sobaa hundas nan jibba.

*פ Pee*

129 Sirni kee dinqisiisaa dha;
kanaafuu ani isa nan eega.
130 Ibsamuun dubbii keetii ifa kenna;
wallaalotaafis hubannaa kenna.
131 Ani ajajawwan kee hawwuudhaan
afaan koo banee nan hargana.
132 Ati akkuma yeroo hunda warra maqaa kee jaalataniif gootu sana,
gara kootti garagalii na maari.
133 Akkuma dubbii keetiitti tarkaanfii miilla kootii naa qajeelchi;
cubbuun tokko iyyuu narratti hin mo'in.
134 Akka ani ajaja kee eeguuf
hacuuccaa namootaa jalaa na furi.
135 Akka fuulli kee tajaajilaa kee irratti ifu godhi;
sirna kees na barsiisi.
136 Sababii namoonni seerra kee hin eegneef,
iji koo imimmaan lolaasa.

*צ Tsaade*

137 Yaa WAAQAYYO, ati qajeelaa dha;
murtiin kees qajeelaa dha.
138 Seerri ati kennite qajeelaa dha;
guutummaattis amanamaa dha.
139 Sababii diinonni koo dubbii kee dagataniif,
hinaaffaan ani qabu na guggubeera.
140 Waadaan kee sirriitti qoramee ilaalameera;
tajaajilaan kees isa jaallata.
141 Xinnaadhee tuffatamu iyyuu,
ani ajaja kee hin irraanfadhu.
142 Qajeelummaan kee bara baraan jiraata;
seerri kees dhugaa dha.
143 Rakkinnii fi dhiphinni natti dhufeera;
ajajawwan kee garuu gammachuu koo ti.
144 Seerri kee bara baraan qajeelaa dha;
akka ani jiraadhuuf hubannaa naa kenni.

*ק Qoof*

145 Yaa WAAQAYYO, ani garaa koo guutuudhaan sin waammadha;
deebii naa kenni; anis sirna keetiif nan ajajama.
146 Ani sittin iyyadha; ati na fayyisi;
seera kees nan eega.
147 Ani utuu lafti hin bari'in ka'ee gargaarsaaf nan iyyadha;
ani dubbii kee abdadheera.
148 Akka ani irra deddeebi'ee waadaa kee yaaduuf,
iji koo halkan guutuu banamee bula.

149 Akkuma jaalala keetiitti sagalee koo dhaga'i;
Yaa WAAQAYYO, akkuma seera keetiitti lubbuu koo baraari.
150 Warri daba mari'atan as dhi'oo jiru;
seera kee irraa garuu fagoo jiru.
151 Yaa WAAQAYYO, ati garuu dhi'oo jirta;
ajajawwan kee hundis dhugaa dha.
152 Akka ati ajajawwan kee bara baraan hundeessite,
ani seera kee irraa dur baradheera.

*ר Reesh*

153 Dhiphina koo argiitii na oolchi;
ani seera kee hin daganneetii.
154 Dubbii koo naa falmi; na furis;
akkuma waadaa keetiitti lubbuu koo baraari.
155 Sababii isaan sirna kee hin barbaanneef,
fayyinni hamoota irraa fagaateera.
156 Yaa WAAQAYYO, gara laafinni kee guddaa dha;
akkuma seera keetiitti lubbuu koo baraari.
157 Diinonni koo warri na ari'atan baay'ee dha;
ani garuu seera kee irraa hin jal'anne.
158 Sababii isaan dubbii keetiif hin ajajamneef,
ani warra amantii hin qabne ija jibbaatiin nan ilaala.
159 Akkam akka ani qajeelfama kee jaalladhu mee ilaali;
Yaa WAAQAYYO, akkuma jaalala keetiitti lubbuu koo baraari.
160 Dubbiin kee hundinuu dhugaa dha;
seerri kee qajeelaan hundinuus bara baraan jiraata.

*ש Siinii fi Shiin*

161 Bulchitoonni sababii malee na ari'atan;
garaan koo garuu dubbii kee
sodaachuudhaan hollata.
162 Ani akka nama boojuu guddaa argate tokkootti,
dubbii keetti nan gammada.
163 Ani soba nan jibba; nan xireeffadhas;
seera kee garuu nan jaalladha.
164 Sababii seera kee qajeelaa sanaatiif,
ani guyyaatti yeroo torba sin galateeffadha.
165 Warri seera kee jaallatan nagaa guddaa qabu;
wanni isaan gufachiisu tokko iyyuu hin jiru.
166 Yaa WAAQAYYO, ani fayyisuu kee nan abdadha;
ajaja kee duukaas nan bu'a.
167 Ani waanan guddaa isa jaalladhuuf,
ajaja kee nan eega.
168 Ati karaa koo hunda waan beektuuf,
ani sirna keetii fi seera kee nan eega.

*ת Taaw*

169 Yaa WAAQAYYO, iyyi koo fuula kee dura haa ga'u;
ati akkuma dubbii keetiitti hubannaa naa kenni.
170 Waammanni koo fuula kee dura haa ga'u;
akkuma waadaa keetiitti na baasi.
171 Sababii ati qajeelfama kee na barsiiftuuf,
hidhiin koo galata haa dhangalaasu.
172 Arrabni koo dubbii kee haa faarfatu;
ajajni kee hundi qajeelaadhaatii.

173 Waan ani sirna kee filadheef,
harki kee na gargaaruuf haa qophaa'u.
174 Yaa WAAQAYYO, ani fayyisuu kee nan hawwa;
seerri kees gammachuu koo ti.
175 Lubbuun koo si galateeffachuuf haa jiraattu;
seerri kees na haa gargaaru.
176 Ani akkuma hoolaa badee karaa irraa jal'adheera.
Ani ajajawwan kee hin irraanfanneetii,
tajaajilaa kee barbaadi.

## Farra Nagaa

# Faarfannaa 120

Faarfannaa Ol ba'uu.
1 Ani rakkina koo keessatti WAAQAYYOTTI nan iyyadha;
innis deebii naa kenna.
2 Yaa WAAQAYYO, afaan sobuu fi
arraba nama gowwoomsu jalaa na baasi.

3 Yaa arraba gowwoomsituu nana, maaltu siif kennama?
Kana caalaas maal godhamta?
4 Inni xiyya loltootaa kan qarameen,
barbadaa ibiddaa qacamaatiin si adaba.

5 Ani waanan Meshek keessa taa'ee
dunkaanota Qeedaar gidduu jiraadhuuf, anaaf wayyoo!
6 Warra nagaa jibban gidduu,
ani yeroo dheeraa jiraadheera.
7 Ani nama nagaa barbaadu dha;
isaan garuu yeroo ani dubbadhu lolaaf kaka'an.

## Eegduu Israa'el

# Faarfannaa 121

Faarfannaa Ol ba'uu.
1 Ani ija koo gara tulluuwwaniitti ol nan qabadha;
gargaarsi koo eessaa dhufa?
2 Gargaarsi koo WAAQAYYO
samii fi lafa uume biraa dhufa.

3 Inni akka miilli kee mucucaatu hin godhu;
kan si eegu hin mugu;
4 dhugumaan inni Israa'elin eegu
hin mugu; hin rafus.

5 WAAQAYYO si eega;
WAAQAYYO karaa mirga keetiitiin gaaddisa siif ta'a;
6 guyyaa aduun si hin gubu;
halkanis ji'i si hin miidhu.

7 WAAQAYYO miidhaa hunda irraa si eega;
inni lubbuu kee ni eega;
8 WAAQAYYO ammaa jalqabee

hamma bara baraatti, ba'uu fi galuu kee ni eega.

## Yaa Yerusaalem Ililchi

# Faarfannaa 122

Faarfannaa Ol ba'uu. Faarfannaa Daawit.
1 Yommuu isaan, "Kottu gara mana WAAQAYYOO dhaqnaa"
naan jedhanitti, ani nan gammade.
2 Yaa Yerusaalem,
miilli keenya karrawwan kee irra dhaabata.

3 Yerusaalem akka magaalaa walitti maxxantee
gobbatte tokkootti ijaaramte.
4 Kunis iddoo gosoonni,
gosoonni WAAQAYYO,
akka sirna Israa'eliif kenname sanaatti,
maqaa WAAQAYYOO galateeffachuuf itti ol ba'anii dha.
5 Teessoowwan murtii,
teessoowwan mana Daawit achi dhaabatu.

6 Akkana jedhaa nagaa Yerusaalemiif kadhadhaa:
"Warri si jaallatan nagaan haa jiraatan.
7 Dallaa kee keessa nagaan,
masaraa mootummaa keetii keessa immoo tasgabbiin haa jiraatu."
8 Ani obboloota kootii fi michoota kootiif jedhee,
"Nagaan si keessa haa jiraatu" nan jedha.
9 Mana WAAQAYYO Waaqa keenyaatiif jedhee,
ani akka wanni gaariin siif ta'u nan hawwa.

## Kadhannaa Yeroo Rakkinaa

# Faarfannaa 123

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Yaa isa teessoon kee samii irra jiru,
ani ija koo gara keetti ol nan qabadha.
2 Akkuma iji garbootaa harka gooftaa isaanii,
iji garbittii immoo harka giiftii ishee ilaalu sana,
hamma inni araara nuu buusutti,
iji keenyas gara WAAQAYYO Waaqa keenyaa ni ilaala.

3 Nuu araarami; yaa WAAQAYYO, nuu araarami;
tuffatamuun nutti baay'ateeraatii.
4 Arrabni warra of jajaniitii fi
tuffiin warra of tuulanii nutti baay'ateera.

## Fayyisaa Israa'el

# Faarfannaa 124

Faarfannaa ol ba'uu. Faarfannaa Daawit.
1 Israa'el akkana haa jedhu:
Utuu WAAQAYYO garee keenya ta'uu baatee,
2 utuu WAAQAYYO garee keenya ta'uu baatee,
yommuu namoonni nutti ka'anitti,
3 yommuu aariin isaanii nutti boba'etti,

silaa isaan utuu nu lubbuun jirruu nu liqimsu turan;
4 lolaan nu liqimsee
dha'aan bishaanii nurra yaa'a ture;
5 bishaan hamaan
nu fudhatee bada ture.

6 WAAQAYYO akka nu ilkaan isaaniitiin cicciramnuuf
dabarsee itti nu hin kennin sun haa eebbifamu.
7 Akkuma simbirri kiyyoo adamsituu jalaa baatu,
nu isaan jalaa baaneerra;
kiyyoon ni ciccite;
nus jalaa baane.
8 Gargaarsi keenya maqaa WAAQAYYOO,
Uumaa samii fi lafa sanaa ti.

## Waaqayyo Amanamtoota Isaa Ni eega

# Faarfannaa 125

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Warri WAAQAYYOON amanatan akka Tulluu Xiyoon
kan hin raafamne, kan bara baraan jiraatu sanaa ti.
2 Akkuma tulluuwwan Yerusaalemin marsan sana,
WAAQAYYO ammaa jalqabee hamma bara baraatti,
saba isaa ni marsa.

3 Akka qajeeltonni jal'ina hojjechuuf
harka isaanii ol hin diriirfanneef,
bokkuun hamootaa lafa qajeeltotaaf
ixaadhaan qoodame irra hin jiraatu.

4 Yaa WAAQAYYO, warra gaariif,
warra garaa isaaniitiin toloota ta'aniifis waan gaarii godhi.
5 Warra karaa micciiramaatti garagalan garuu,
WAAQAYYO akkuma warra hammina hojjetan balleessu jaras ni balleessa.

Nagaan Israa'eliif haa ta'u.

## Faarfannaa Warra Boojuudhaa Deebi'anii

# Faarfannaa 126

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Yeroo WAAQAYYO warra booji'amanii turan gara Xiyoonitti deebisetti,
nu akka warra abjuu abjootanii taane.
2 Afaan keenya kolfaan, arrabni keenya immoo
faarfannaa gammachuutiin guutame.
Kana irratti saboota gidduutti,
"WAAQAYYO waan guddaa isaaniif godheera" jedhame.

3 WAAQAYYO waan guddaa nuuf godhe;
nus ni gammanne.

4 Yaa WAAQAYYO, akkuma lagoota Negeeb,
boojuu keenya nuu deebisi.

5 Warri imimmaaniin facaasan,
faarfannaa gammachuutiin ni haammatu.
6 Namni sanyii facaafamu baadhatee boo'aa gad ba'u,
bissii isaa baadhatee faarfannaa gammachuu faarfachaa deebi'a.

## Waaqa Amanachuu

# Faarfannaa 127

Faarfannaa Ol ba'uu. Faarfannaa Solomoon.
1 WAAQAYYO mana ijaaruu baannaan,
warri ijaaran akkasumaan dadhabu.
WAAQAYYO magaalaa eeguu baannaan,
warri eegan akkasumaan dhaabachaa bulu.
2 Isin buddeena dadhabbii guddaan argame nyaachuuf jettanii,
barii barraaqaan ka'uun keessan,
turtanii rafuun keessan faayidaa hin qabu;
inni warra jaallatuuf utuma isaan rafanii iyyuu
waan isaan barbaachisu ni kennaaf.

3 Kunoo, ijoolleen kennaa WAAQAYYOO ti;
iji gadameessaas badhaasa isaa ti.
4 Ijoolleen dargaggummaa keessa dhalchan,
akkuma xiyya harka goota tokkoo keessa jiruu ti.
5 Namni korojoon isaa xiyyaan guutame eebbifamaa dha.
Inni yommuu karra duratti diinota isaatiin falmutti hin qaana'u.

## Eebba Qajeeltonni Argatan

# Faarfannaa 128

Faarfannaa Ol Ba'uu.
1 Warri WAAQAYYOON sodaatan,
kanneen karaa isaa irra deeman eebbifamoo dha.
2 Ati bu'aa dadhabbii keetii ni nyaatta;
ni eebbifamta; jireenyis sitti tola.
3 Niitiin kee mana kee keessatti,
akka muka wayinii kan ija naqatee ni taati;
ijoolleen kees naannoo maaddii keetiitti,
akka lataa muka ejersaa ni ta'u.
4 Namni WAAQAYYOON sodaatu
akkasitti eebbifama.

5 Bara jireenya keetii guutuu,
WAAQAYYO Xiyoon irraa si haa eebbisu;
atis badhaadhummaa Yerusaalem argi.
6 ijoollee ijoollee keetii ni argi;
nagaan Israa'eliif haa ta'u.

## Kadhannaa Diinota Xiyooniin Mormuuf Kadhatame

# Faarfannaa 129

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Israa'el akkana haa jedhu;
"Isaan dargaggummaa kootii jalqabanii akka malee na cunqursaniiru;
2 isaan dargaggummaa kootii jalqabanii akka malee na cunqursaniiru;

garuu na hin mo'anne.
3 Warri qootiisa qotan dugda koo qotan;
bo'oo isaaniis ni dheeressan.
4 WAAQAYYO garuu qajeelaa dha;
funyoo jal'ootaa gargar kukkuteera."

5 Warri Xiyoonin jibban hundinuu,
qaaniidhaan duubatti haa deebi'an.
6 Isaan akka marga bantii manaa irraa
kan utuu hin guddatin goguu haa ta'an;
7 namichi haamu qabaa isaa guuttachuu,
yookaan namichi walitti qabu bissii isaa guuttachuu hin danda'u.
8 Warri achiin darban, "Eebbi WAAQAYYOO isiniif haa ta'u;
maqaa WAAQAYYOOTIIN isin eebbifna" isaaniin hin jedhin.

## Waamicha Gargaarsaaf Dhi'aate

# Faarfannaa 130

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Yaa WAAQAYYO, ani boolla gad fagoo keessaa
sitti nan iyyadha;
2 yaa Gooftaa, sagalee koo dhaga'i.
Gurri kees sagalee waammata koo
xiyyeeffatee haa dhaga'u.

3 Yaa WAAQAYYO, utuu ati cubbuu lakkooftee,
yaa gooftaa silaa eenyutu dhaabachuu danda'a?
4 Garuu dhiifamni si bira jira;
kanaaf ati ni sodaatamta.

5 Ani WAAQAYYOON nan eeggadha; lubbuun koos isa eeggatti;
dubbii isaas nan abdadha.
6 Eegdota barii lafaa eeggatan caalaa,
dhugumaan eegdota barii lafaa eeggatan caalaa
lubbuun koo Gooftaa eeggatti.

7 Yaa Israa'el, ati WAAQAYYOON abdadhu;
WAAQAYYO bira jaalalli dhuma hin qabne,
furiin guutuunis ni jiraatii.
8 Inni mataan isaa cubbuu isaanii
hundumaa irraa Israa'elin ni fura.

## Waaqa Amanachuu

# Faarfannaa 131

Faarfannaa ol ba'uu. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, garaan koo of hin jaju;
iji koos of hin tuulu;
ani waan guddaa fi waan humna kootii ol ta'e keessa hin seenu.
2 Ani garuu lubbuu koo afaan qabachiiseera; cal'isiiseeras;
akkuma daa'imni harma haadha isaa guusan tokko haadhatti irkatee boqotu sana,
akkuma daa'ima harma haadha isaa guusanii lubbuun koo na keessatti cal'iste.

3 Yaa Israa'el, ammaa fi bara baraaf,
WAAQAYYOON abdadhu.

## Faarfannaa Deebifamuu Taabotaa

# Faarfannaa 132

*132:8-10 kwf – 2Sn 6:41-42*

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Yaa WAAQAYYO, Daawitii fi
rakkina inni obse hundumaa yaadadhu.

2 Inni kakuu tokko WAAQAYYOOF kakatee
Waaqa Yaaqoob Jabaa sanaaf akkana jedhee wareege:
3 "Ani mana koo ol hin seenu;
yookaan siree kootti ol hin ba'u.
4 Ani ija kootiif hirriba,
baallee ija kootiitiif immoo mugaatii hin eeyyamu;
5 kunis hamma ani WAAQAYYOOF iddoo argutti,
Waaqa Yaaqoob Jabaa sanaaf iddoo jireenyaa argutti."

6 Kunoo, Efraataatti waa'ee isaa dhageenye;
Yaa'aarittis isa arganne:
7 "Kottaa iddoo jireenya isaa dhaqnaa;
ejjeta miilla isaa jalattis kufnee waaqeffannaa.
8 'Yaa WAAQAYYO ka'iitii, gara iddoo boqonnaa keetii kottu;
atii fi taabonni jabina keetiis kottaa.
9 Luboonni kee qajeelummaa haa uffatan;
qulqulloonni kees gammachuudhaan haa faarfatan.' "

10 Sababii garbicha kee Daawitiif jedhiitii,
dibamaa kee hin gatin.

11 WAAQAYYO akkana jedhee kakuu dhugaa tokko Daawitiif kakateera;
inni kakuu kana irraa duubatti hin deebi'u:
"Ani ilmaan kee keessaa isa tokko teessoo kee irra nan teessisa;
12 yoo ilmaan kee kakuu koo fi seera ani isaan barsiisu eegan,
ilmaan isaaniis akkasuma bara baraa hamma bara baraatti
teessoo kee irra ni taa'u."

13 WAAQAYYO Xiyoonin filateeraatii;
akka isheen iddoo jireenya isaa taatus fedhee akkana jedheera:
14 "Kun bara baraa hamma bara baraatti iddoo jireenyaa koo ti;
kanas ani waanan fedheef, as nan jiraadha.
15 Ani waan hundaan ishee nan eebbisa;
hiyyeeyyii ishee illee buddeena nan quubsa.
16 Luboota isheetti fayyina nan uffisa;
qulqulloonni ishees gammachuudhaan ni faarfatu.

17 "Ani achitti akka gaanfi tokko Daawitiif biqilu nan godha;
dibamaa koofis ibsaa qopheesseera.
18 Diinota isaatti qaanii nan uffisa;
gonfoon mataa isaa irraa garuu ni ifa."

## Jaalala Obbolummaa

# Faarfannaa 133

Faarfannaa ol ba'uu. Faarfannaa Daawit.
1 Obboloonni tokkummaadhaan walii wajjin jiraachuun,
akkam gaarii dha! Akkam namatti tolas!

2 Kun akka zayitii gatii guddaa
kan mataa irratti dhangalaafamee,
akka isa areeda irra gad yaa'uu,
areeda Aroon irra, morma uffata isaa irras gad yaa'a ti.
3 Innis akkuma fixeensa Hermoon,
kan Tulluu Xiyoon irra gad yaa'uu ti.
Achi irratti WAAQAYYO hamma bara baraatti eebba isaa,
jireenyas ajajeeraatii.

## Faarfannaa Halkanii

# Faarfannaa 134

Faarfannaa ol ba'uu.
1 Isin tajaajiltoonni WAAQAYYOO,
warri halkan mana WAAQAYYOO keessa tajaajiltan hundinuu,
WAAQAYYOON galateeffadhaa.
2 Mana qulqullummaa keessatti harka keessan ol qabaatii
WAAQAYYOON galateeffadhaa.

3 WAAQAYYO samii fi lafa uume sun
Xiyoon irraa isin haa eebbisu.

## Faarfannaa Galataa

# Faarfannaa 135

*135:15-20 kwf – Far 115:4-11*
1 Haalleluuyaa.

Maqaa WAAQAYYOO jajadhaa;
isin garboonni WAAQAYYOO isa galateeffadhaa.
2 Isin warri mana WAAQAYYOO keessa,
oobdii mana Waaqa keenyaa keessa tajaajiltan, isa galateeffadhaa.

3 WAAQAYYO gaariidhaatii, WAAQAYYOON galateeffadhaa;
inni arjaadhaatii maqaa isaatiif faarfadhaa.
4 WAAQAYYO Yaaqoobin ofii isaatiif,
Israa'elin immoo dhaala dhuunfaa isaa godhee filateeraatii.

5 Ani akka WAAQAYYO guddaa ta'e,
akka Gooftaan keenya waaqota hunda caalaa guddaa ta'e beeka.
6 WAAQAYYO samiiwwan keessattii fi lafa irratti,
galaanotaa fi tuujuba isaanii hunda keessatti,
waan isa gammachiisu kam iyyuu ni hojjeta.
7 Inni akka duumessoonni daarii lafaatii ka'an ni godha;
bokkaa wajjin balaqqee erga;
gombisaa isaa keessaas bubbee gad baasa.

8 Inni hangafoota Gibxi,
kan namaatii fi kan horii ni dha’e.
9 Yaa Gibxi, inni gidduu keetti,
Fara’oonii fi tajaajiltoota isaa hundatti mallattoo fi dinqii isaa ergeera.
10 Inni saboota baay’ee dha’ee
mootota jajjaboo ajjeese;
11 Sihoon mootii warra Amoorotaa,
Oogi mootii Baashaanii fi mootota Kana’aan hunda ni ajjeese;
12 lafa isaanii dhaala godhee
akka dhaala isaanii ta’uufis saba isaa Israa’eliif kenne.

13 Yaa Waaqayyo, maqaan kee bara baraan jiraata;
yaa Waaqayyo, ati dhaloota hunda keessatti ni yaadatamta.
14 Waaqayyo saba isaatiif ni falma;
tajaajiltoota isaatiifis garaa laafa.

15 Waaqonni tolfamoon namoota ormaa meetii fi
warqee harka namaatiin hojjetamanii dha.
16 Isaan afaan qabu; garuu dubbachuu hin danda’an;
ijas qabu; garuu arguu hin danda’an;
17 gurra qabu; garuu dhaga’uu hin danda’an;
yookaan hafuurri tokko iyyuu afaan isaanii keessa hin jiru.
18 Warri isaan tolchan kanneen isaan amanatan hundi
akkuma isaanii ta’u.

19 Yaa mana Israa’el Waaqayyoon eebbisaa;
yaa mana Aroon Waaqayyoon eebbisaa;
20 yaa mana Lewwii Waaqayyoon eebbisaa;
isin warri isa sodaattanis, Waaqayyoon eebbisaa.
21 Waaqayyo inni Yerusaalem keessa jiraatu sun,
Xiyoon irraa haa eebbifamu.

Haalleluuyaa!

## Faarfannaa Wal jalaa Qabanii Faarfatan

# Faarfannaa 136

1 Waaqayyoof galata galchaa; inni gaariidhaatii.
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
2 Waaqa waaqotaatiif galata galchaa.
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
3 Gooftaa Gooftotaatiif galata galchaa:
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

4 inni kophaa isaa dinqii gurguddaa hojjeta;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
5 inni ogummaa isaatiin samiiwwan uume;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
6 inni bishaanota irratti lafa diriirse;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
7 inni ifa gurguddaa hojjete;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

8 inni akka biiftuun guyyaa mootu godhe;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
9 inni akka ji’ii fi urjiiwwan halkan mo’an godhe;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

10 inni hangafa Gibxi dha’e;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
11 inni isaan gidduudhaa Israa’elin baase;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
12 harka jabaa fi irree diriiraadhaan Israa’elin baase;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

13 inni Galaana Diimaa iddoo lamatti gargarii qoode;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
14 inni galaana gidduudhaan Israa’elin dabarse;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
15 Fara’oonii fi loltoota isaa garuu Galaana Diimaatti naqe;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

16 inni saba ofii isaa gammoojjii keessa geggeesse;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

17 inni moototа gurguddaa dha’e;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
18 inni moototа jajjaboo fixe;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
19 inni Sihoon mootii Amoorotaa ajjeese;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
20 inni Oogi mootii Baashaan ajjeese;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
21 inni biyya isaanii dhaala godhee kenne;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
22 dhaala godhee garbicha isaa Israa’eliif kenne;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

23 Inni yeroo nu gad deebinetti nu yaadate;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
24 inni harka diinota keenyaatii nu baase,
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.
25 inni uumama hundaaf soora kenna;
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

26 Waaqa samiitiif galata galchaa.
Jaalalli isaa bara baraan jiraata.

## Faarfannaa Booji’amtootaa

# Faarfannaa 137

1 Nu yeroo Xiyoonin yaadannetti,
lageen Baabilon bira teenyee boonye.
2 Achittis kiraara keenya

muka alaltuutti fannifne;
3 achitti warri nu booji'an faarfannaa, warri nu dhiphisanis,
"Faarfannaawwan Xiyoon keessaa tokko nuu faarfadhaa!"
jedhanii akka nu faarfannaa gammachuu isaaniif faarfannu nu gaafatan.

4 Nu utuu biyya ormaa jirruu,
akkamitti faarfannaa WAAQAYYOO faarfachuu dandeenya?
5 Yaa Yerusaalem, yoo ani si irraanfadhe,
harki koo mirgaa ogummaa isaa haa irraanfatu.
6 Yoo ani si yaadachuu baadhe,
yoo ani gammachuu koo guddichaa olitti
Yerusaalemin ilaaluu baadhe,
arrabni koo laagaa kootti haa maxxanu.

7 Yaa WAAQAYYO, waan warri Edoom
gaafa Yerusaalem diigamte jedhan sana yaadadhu;
isaanis, "Ishee diigaa!
Hamma hundee isheetti ishee diigaa!" jedhanii iyyan.

8 Yaa intala Baabilon, kan baduudhaaf qophoofte,
inni waan ati nu goote sanaaf,
gatii kee siif kennu eebbifamaa dha.
9 Inni daa'imman kee qabee
dhagaa irratti caccabsu sun eebbifamaa dha.

## Faarfannaa Galataa

# Faarfannaa 138

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, ani garaa koo guutuudhaan sin galateeffadha;
fuula "waaqotaa" durattis galata kee nan faarfadha.
2 Sababii ati maqaa keetii fi dubbii kee waan hundaa olitti guddifteef,
ani sababii jaalalaa fi amanamummaa keetiitiif
gara mana qulqullummaa kee qulqullichaatti gad jedhee,
maqaa kee nan leellisa.
3 Yeroo ani si waammadhetti ati deebii naa kennite;
irree keetiinis na jabeessite.

4 Yaa WAAQAYYO, mootonni lafaa hundinuu,
yeroo dubbii afaan keetii dhaga'anitti si haa leellisan.
5 Ulfinni WAAQAYYOO, guddaadhaatii,
isaan waa'ee karaa WAAQAYYOO haa faarfatan.

6 WAAQAYYO yoo ol fagoo jiraate iyyuu,
nama gad qabame ni ilaala;
nama of tuulu immoo fagootti beeka.
7 Ani rakkina keessa jiraadhu iyyuu,
ati lubbuu koo ni eegda;
aarii diina kootti harka kee ni diriirsita;
harka kee mirgaatiinis na oolchita.
8 WAAQAYYO kaayyoo isaa fiixaan naa baasa;
yaa WAAQAYYO, jaalalli kee bara baraan jiraata;

hojii harka keetii hin gatin.

## Waaqa Waan Hunda Beeku

# Faarfannaa 139

Dura bu’aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, ati na qorteerta;
na beekteertas.
2 Ati yeroo ani gad taa’uu fi yeroo ani ol ka’u ni beekta;
yaada koos fagootti hubatta.
3 Deemuu koo fi ciisuu koo addaan baaftee beekta;
karaa koo hundas beekta.
4 Yaa WAAQAYYO, akka dubbiin tokko iyyuu arraba koo hin jirre,
ati guutumaan guutuutti ni beekta.
5 Ati duraa fi duubaan na marsiteerta;
harka kees narra keesseerta.
6 Beekumsi akkanaa anaaf akka malee dinqii dha;
hubachuufis akka malee narraa fagoo dha.

7 Hafuura kee biraa ani eessa dhaquun danda’a?
Fuula kee duraas ani eessatti baqachuun danda’a?
8 Yoo ani samiiwwanitti ol ba’e, ati achi jirta;
yoo ani siree koo sii’ool keessa dhaabbadhes, achis ni jirta.
9 Yoo ani qoochoo ganamaatiin
barrisee qarqara galaanaa fagoo irra qubadhe,
10 achittis harki kee karaa na argisiisa;
harki kee mirgaas jabeessee na qaba.
11 Yoo ani, “Dhugumaan dukkanni na dhoksa;
ifnis naannoo kootti halkan ta’a” jedhe,
12 dukkanni iyyuu siif dukkana hin ta’u;
halkanis akkuma guyyaa ifa;
dukkanni siif akkuma ifaatii.

13 Ati namummaa koo isa keessaa uumteertaatii;
gadameessa haadha koo keessattis na tolchite.
14 Ani sababii haala sodaachisaa fi dinqisiisaadhaan uumameef
sin galateeffadha;
hojiin kee dinqisiisaa dha;
kanas ani akka gaariittan beeka.
15 Yeroo ani iddoo dhoksaatti uumame,
lafeen koo si duraa hin dhokanne.
Yeroo ani dhidhima lafaa keessatti tolfame,
16 iji kee dhagna koo kan hin tolfamin arge.
Guyyoonni duraan dursanii naaf murteeffaman hundi
utuu hin jiraatin,
kitaaba kee keessatti barreeffamaniiru.
17 Yaa Waaqi, yaada kee hubachuun akkam ulfaata!
Baay’inni isaas akkam guddaa dha!
18 Utuu ani isaan lakkaa’ee jiraadhee,
silaa lakkoobsi isaanii cirracha irra baay’ata.
Ani yeroon dammaqutti, amma iyyuu suma wajjinan jira.

19 Maaloo yaa Waaqi, ati utuu hamoota fixxee!

Warri dhiiga namaa dhangalaaftan, narraa fagaadhaa!
20 Isaan yaada hamaadhaan waa'ee kee dubbatu;
diinonni kee akkasumaan maqaa kee dha'u.
21 Yaa WAAQAYYO, ani warra si jibban hin jibbuu?
Warra sitti ka'anis hin xireeffadhuu?
22 Ani hamma dhumaatti isaan jibbeera;
akka diina koottis isaan nan heda.

23 Yaa Waaqi, na sakatta'i; garaa koos beeki;
qoriitii na ilaali; yaada koos beeki.
24 Yoo karaan hamminaa na keessa jiraate mee ilaali;
karaa bara baraa irras na adeemsisi.

## Kadhannaa Hamoota Irratti Dhi'aate

# Faarfannaa 140

Dura Bu'aa faarfattootaatiif. Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, namoota hamoo jalaa na baasi;
namoota finciltoota
2 warra garaa isaanii keessatti hammina yaadanii
guyyaa hunda waraana kaasan narraa eegi.
3 Isaan arraba isaanii akkuma bofaa qaratu;
hadhaan buutii hidhii isaanii jala jira.

4 Yaa WAAQAYYO, harka hamootaa narraa eegi;
namoota finciltoota
warra miilla koo kiyyootti galchuu yaadan jalaa na baasi.
5 Of tuultonni dhoksanii kiyyoo na dura kaa'aniiru;
ribuu kiyyoo isaanii diriirsaniiru;
karaa koo irras kiyyoo isaanii kaa'aniiru.

6 Yaa WAAQAYYO, ani, "Ati Waaqa koo ti" siin nan jedha.
Yaa WAAQAYYO, waammata koo dhaga'i.
7 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, fayyisaa koo jabaa,
ati guyyaa waraanaatti gaachana mataa naa taate.
8 Yaa WAAQAYYO, akka fedhiin hamootaa fiixaan ba'u hin godhin;
akka isaan of hin tuulleef, akka karoorri isaanii milkaa'u hin godhin.

9 Mataan warra na marsanii,
hammina afaan isaaniitii ba'uun haa haguugamu.
10 Barbadaan ibiddaa isaan irra haa bu'u;
isaan ibiddatti illee haa darbataman;
akka lammata hin kaaneefis boolla qileetti haa darbataman.
11 Maqa balleessitoonni lafa irra hin jiraatin;
namni jal'aan waan hamaadhaan haa badu.

12 WAAQAYYO rakkattootaaf falmee
hiyyeeyyiif illee murtii qajeelaa akka kennu ani beeka.
13 Dhugumaan namni qajeelaan maqaa kee ni galateeffata;
namni tolaanis fuula kee dura ni jiraata.

## Akka Qananii Jaldhootaatiin Hin fudhatamne Waaqa Kadhachuu

# Faarfannaa 141

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, ani sin waammadha; dafii na qaqqabi.
Yommuu ani si waammadhus sagalee koo dhaga'i.
2 Kadhannaan koo fuula kee duratti akka ixaanaatti anaaf haa fudhatamu;
harka koo ol qabachuun koos akka aarsaa galgalaa anaaf haa ta'u.

3 Yaa WAAQAYYO, afaan kootiif eegduu naa dhaabi;
balbala afaan kootiis naa eegi.
4 Garaan koo namoota waan hamaa hojjetan wajjin,
hojii hamminaa keessatti hirmaachuuf,
gara jal'ina kamiitti iyyuu hin harkifamin;
akka ani nyaata isaanii mi'aawaa nyaadhus anaaf hin eeyyamin.

5 Namni qajeelaan na haa rukutu; kun gara laafinaatii;
inni ana haa ifatu; kunis zayitii mataa koo irraatti.
Mataan koo waan kana hin didu.
Ta'us kadhannaan koo yoom iyyuu hojii hamootaatiin mormuu dha.

6 Bulchitoonni isaanii ededa boollaa irraa gad ni darbatamu;
isaan dubbii koo ni dhaga'u; dubbiin koo ni mi'aawaatii.
7 Isaanis, "Akkuma namni lafa qotu biyyoo bulleessu sana,
lafeen keenya afaan sii'ool irratti bittinneeffamee jira" jedhu.

8 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ani garuu ija koo sirraa hin buqqifadhu;
ani kooluu sitti galeera; dabarsitee du'atti na hin kennin.
9 Kiyyoo isaan naaf kaa'an irraa,
kiyyoo warri jal'ina hojjetan naaf qopheessan irraas na eegi.
10 Warri hamoon kiyyoo ofii isaaniitiin haa qabaman;
ani garuu nagumaan nan ba'a.

## Kadhannaa Nama Ari'atamaa Jiru Tokkoo

# Faarfannaa 142

*Maaskiilii* Daawit
1 Ani gara WAAQAYYOTTI nan iyya;
sagalee kootiinis fuula WAAQAYYOO duratti
waammata koo nan dhi'eeffadha.
2 Ani guungummii koo fuula isaa duratti nan dhangalaasa;
dhibee koos fuula isaa duratti nan himadha.

3 Yeroof hafuurri koo na keessatti laafu,
situ karaa koo beeka.
Namoonni daandii ani deemu irra,
kiyyoo naa kaa'aniiru.
4 Gara mirga koo ilaali; argis;
namni naa yaadu tokko iyyuu hin jiru;
ani iddoon itti kooluu galu tokko illee hin qabu;
namni jireenya kootiif yaadus hin jiru.

5 Yaa WAAQAYYO, sitti nan iyyadha;
"Ati iddoo ani itti kooluu galuu dha;

biyya warra jiraatoo keessattis ati qooda koo ti” nan jedha.
6 Ani abdii kutadheeraatii,
kadhannaa koo naa dhaga'i;
warra na ari'atan jalaa na baasi;
isaan akka malee natti cimaniiruutii.
7 Akka ani maqaa kee galateeffadhuuf,
lubbuu koo mana hidhaatii naa baasi.

Sababii ati waan gaarii naa gooteef,
qajeeltonni naannoo kootti walitti qabamu.

## Gad of qabanii Waaqa Kadhachuu

# Faarfannaa 143

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa WAAQAYYO, kadhannaa koo naa dhaga'i;
gurra kees gara waammata kootiitti deebisi;
amanamummaa fi
qajeelummaa keetiin, na gargaari.
2 Ati garbicha kee murtiitti hin dhi'eessin;
namni lubbuun jiraatu kam iyyuu fuula kee duratti qajeelaa mitiitii.
3 Diinni lubbuu koo ari'achaa jiraatii;
jireenya koos butuchee biyyootti make.
Akkuma warra dur du'aniittis
dukkana keessa na jiraachiseera.
4 Kanaafuu hafuurri koo na keessatti gaggabeera;
onneen koos na keessatti rifatteerti.

5 Ani guyyoota durii nan yaadadha;
waan ati hojjette hundas irra deddeebi'ee nan yaada;
waan harki kee hojjete illee nan heda.
6 Harka koo gara keetti nan diriirfadha;
lubbuun koos akkuma lafa gogaa si dheebotti.

7 Yaa WAAQAYYO, dafii deebii naa kenni;
hafuurri koo dadhabeera.
Fuula kee na duraa hin dhoksin
yookaan ani akka warra boolla bu'anii nan ta'a.
8 Ani waanan si amanadheef,
akka ani ganama ganama oduu jaalala keetii dhaga'u godhi.
Ani lubbuu koo gara keetti ol nan kaasaatii,
karaa ani irra deemuu qabu natti argisiisi.
9 Yaa WAAQAYYO, ani akka ati na dhoksituuf
sitti nan baqadhaatii,
diinota koo jalaa na baasi.
10 Ati sababii Waaqa koo taateef,
akka ani fedhii kee guutu na barsiisi;
hafuurri kee gaariin sun
karaa wal qixxee irra na haa qajeelchu.

11 Yaa WAAQAYYO, maqaa keetii jedhiitii lubbuu koo jiraachisi;
qajeelummaa keetiinis rakkina keessaa na baasi.
12 Ati sababii na jaallattuuf diinota koo fixi;

waan ani garbicha kee ta’eef,
warra na cunqursan hunda barbadeessi.

## Mo’annaa Argachuuf Kadhachuu

# Faarfannaa 144

Faarfannaa Daawit.
1 WAAQAYYO kattaa koo,
isa harka koo waraanaaf,
quba koos lolaaf leenjisu sanaaf galanni haa ga’u.
2 Inni Waaqa na jaallatuu fi da’oo koo ti;
iddoo ani itti da’adhuu fi fayyisaa koo ti.
Gaachana koo, iddoo ani itti kooluu galu,
kan na jalatti saba naaf bulchuu dha.

3 Yaa WAAQAYYO, akka ati waa’ee isaa yaadduuf, namni maali?
Akka ati isaaf yaadduuf ilmi namaa maali?
4 Namni akkuma qilleensa shuf jedhee darbuuti,
barri isaas akkuma gaaddisa darbuu ti.

5 Yaa WAAQAYYO, samiiwwan kee tarsaasii gad bu’i;
akka aarri isaan keessaa yaa’uufis tulluuwwan tuqi.
6 Bakakkaa ergiitii diina bittinneessi;
xiyya kee darbadhuutii isaan balleessi.
7 Ol gubbaadhaa harka kee gad hiixadhuutii
bishaan jabaa jalaa,
harka alagaa duraas,
na baasi; na oolchis;
8 warra afaan isaanii sobaan guutame,
warra harki isaanii mirgaa nama dogoggorsu duraa na baasi.

9 Yaa Waaqi, ani faarfannaa haaraa siif nan faarfadha;
kiraara ribuu kudhaniitiinis siifin weeddisa;
10 isa moototaaf mo’annoo kennuuf, isa garbicha isaa Daawitin
goraadee nama ajjeesu jalaa baasuuf nan faarfadha.

11 Harka Ormootaa duraa,
warra afaan isaanii sobaan guutame,
warra harki isaanii mirgaa
nama dogoggorsu jalaa na baasi; na oolchis.

12 Ilmaan keenya dargaggummaa isaanii keessatti,
akka biqiltuu tolee guddatee haa ta’an;
intallan keenyas akka utubaa golee,
kan masaraa mootummaa miidhagsuuf
soofamee haa ta’an.
13 Gombisaawwan keenya,
midhaan gosa garaa garaatiin haa guutaman.
Hoolonni keenya kumaatama haa dhalan;
dirree keenya irrattis kumaatama kudhaniin
haa baay’atan;
14 loon keenya haa dorroban hin gatatin

yookaan yeroo malee hin dhalin;
booji'amuunis hin jiraatin;
wawwaachuunis karaa keenya irratti hin dhaga'amin.

15 Warri eebbi kun ta'eef haa gammadan;
warri WAAQAYYO Waaqa isaanii ta'eef eebbifamoo dha.

## Waaqayyo Mootichaaf Galata Galchuu

# Faarfannaa 145

Faarfannaa Daawit.
1 Yaa Waaqa koo Mooticha, ani sin leellisa;
bara baraa hamma bara baraattis maqaa kee nan galateeffadha.
2 Ani guyyuma guyyaan sin galateeffadha;
bara baraa hamma bara baraattis maqaa kee nan leellisa.

3 WAAQAYYO guddaa dha; galateeffamuunis baay'ee malaaf;
guddina isaa qoratanii itti ba'uun hin danda'amu.
4 Dhaloonni tokko dhaloota biraatti hojii kee ni hima;
hojiiwwan kee jajjaboos ni labsa.
5 Isaanis waa'ee miidhagina ulfina qabeessa
surraa kee sanaa ni dubbatu;
anis waa'ee hojii kee dinqisiisaa sanaa irra deddeebi'ee
itti nan yaada.
6 Isaan waa'ee hojii kee sodaachisaa sanaa ni odeessu;
anis guddina kee nan labsa.
7 Isaan yaadannoo gaarummaa keetii baay'isanii odeessu;
waa'ee qajeelummaa keetiis ililchanii faarfatu.

8 WAAQAYYO arjaa fi gara laafessa;
inni aaruuf hin ariifatu; jaalalli isaas baay'ee dha.
9 WAAQAYYO, nama hundaaf gaarii dha;
inni waan uume hundaaf garaa ni laafa.
10 Yaa WAAQAYYO, hojiin kee hundinuu si galateeffata;
qulqulloonni kees si leellisu.
11 Isaan waa'ee ulfina mootummaa keetii ni odeessu;
waa'ee humna keetiis ni dubbatu;
12 kunis akka namoonni hundi hojii kee humna qabeessa,
surraa ulfina qabeessa mootummaa kee sanaas beekaniif.
13 Mootummaan kee mootummaa bara baraa ti;
bulchiinsi kees dhalootaa gara dhalootaatti darba.

WAAQAYYO dubbii isaa hundaan amanamaa dha;
hojii isaa hundaanis arjaa dha.
14 WAAQAYYO warra kufan hunda ol qaba;
warra gad qabaman hundas ni kaasa.
15 Iji nama hundaa si eeggata;
atis yeroo barbaachisutti nyaata isaaniif ni kennita.
16 Ati harka kee bal'iftee
fedhii warra lubbuu qaban hundaa ni guutta.

17 WAAQAYYO karaa isaa hundaan qajeelaa dha;

hojii isaa hundaanis arjaa dha.
18 WAAQAYYO warra isa waammatan hundatti,
warra dhugaadhaan isa waammatan hundatti dhi'oo dha.
19 Inni fedhii warra isa sodaatanii ni guuta;
kadhannaa isaanis dhaga'ee isaan oolcha.
20 WAAQAYYO warra isa jaallatan hunda ni eega;
jal'oota hunda garuu ni balleessa.

21 Afaan koo WAAQAYYOON galateeffachuudhaan ni dubbata.
Uumamni hundinuu maqaa isaa qulqulluu sana
bara baraa hamma bara baraatti haa eebbisu.

## Waaqa Nama Gargaaru Faarfachuu

# Faarfannaa 146

1 Haalleluuyaa.

Yaa lubbuu ko, WAAQAYYOON galateeffadhu.

2 Ani bara jireenya koo guutuu WAAQAYYOON nan galateeffadha;
ani hamman jirutti Waaqaaf nan faarfadha.
3 Abdii keessan bulchitoota irra,
namoota du'a hin oolle
warra isin gargaaruu hin dandeenye irra hin kaa'atinaa.
4 Isaan yeruma lubbuun isaan keessaa baatu gara lafaatti deebi'u;
guyyuma sanas karoorri isaanii bada.
5 Namni gargaarsi isaa Waaqa Yaaqoob ta'e, kan abdiin isaas
WAAQAYYO Waaqa isaa ta'e eebbifamaa dha.

6 WAAQAYYO Uumaa samii fi lafaa,
galaanaa fi waan isaan keessa jiru hundaa ti;
inni bara baraan amanamaa ta'e jiraata.
7 Inni warra cunqurfamaniif ni mura;
warra beela'aniif nyaata kenna.
WAAQAYYO warra hidhaman illee ni hiika;
8 WAAQAYYO jaamotaaf agartuu ni kenna;
WAAQAYYO warra gad deebi'an ol qaba;
WAAQAYYO qajeeltota ni jaallata.
9 WAAQAYYO alagaadhaaf eegumsa ni godha;
ijoollee haadhaa fi abbaa hin qabnee fi
dubartoota dhirsoonni irraa du'an ni jiraachisa;
karaa jal'ootaa garuu ni balleessa.

10 WAAQAYYO bara baraan ni mo'a;
Yaa Xiyoon, Waaqni kee dhaloota hundaaf mootii ta'a.

Haalleluuyaa.

## Faarfannaa Waaqa Waan Hunda Danda'uuf Faarfatame

# Faarfannaa 147

1 Haalleluuyaa.

Faarfannaadhaan Waaqa galateeffachuun akkam gaarii dha;
isa galateeffachuun akkam gammachiisaa fi kan maluu dha!

2 WAAQAYYO Yerusaalemin ni ijaara;
Israa'eloota booji'amanis walitti qaba.
3 Warra garaan cabe ni fayyisa;
madaa isaaniis walitti hodha.
4 Inni baay'ina urjiiwwanii ni beeka;
tokkoo tokkoo isaaniis maqaa maqaadhaan waama.
5 Gooftaan keenya guddaa dha; humni isaas jabaa dha;
hubannaan isaas dhuma hin qabu.
6 WAAQAYYO warra gad qabaman ni jiraachisa;
hamoota garuu lafatti darbata.

7 Galata galchaa WAAQAYYOON faarfadhaa;
baganaadhaanis Waaqa keenyaaf weeddisaa.

8 Inni samiiwwani duumessaan haguuga;
lafaafis bokkaa kenna;
tulluuwwan irrattis marga biqilcha.
9 Horiidhaaf waan isaan dheedan,
yommuu ilmaan arraagessaa iyyanitti
nyaata isaaniif ni kenna.

10 Inni jabina fardaatti hin gammadu;
yookaan miilli namaa isa hin gammachiisu;
11 WAAQAYYO warra isa sodaatanitti,
warra araara isaa abdatanitti ni gammada.

12 Yaa Yerusaalem, WAAQAYYOON galateeffadhu;
Yaa Xiyoon Waaqa kee galateeffadhu.

13 Inni danqaraa karra keetii ni jabeessaatii;
ijoollee kees si keessatti eebbisa.
14 Daarii keetiif nagaa kenna;
qamadii qulqulluudhaanis si quubsa.

15 Inni ajaja isaa gara lafaatti ni erga;
dubbiin isaas ni ariifata.
16 Inni cabbii akkuma suufiitti diriirsa;
qorras akkuma daaraatti bittinneessa.
17 Dhagaa cabbii akkuma cirrachaa gad darbata.
Dhaamocha isaa dura eenyutu dhaabachuu danda'a?
18 Inni dubbii isaa ergee isaan baqsa;
bubbee isaa ni kaasa; bishaanonnis ni yaa'u.

19 Inni dubbii isaa Yaaqoobitti,
seeraa fi sirna isaa immoo Israa'elitti mul'iseera.
20 Waan kana saba biraa tokkoof iyyuu hin goone;
isaan seera isaa hin beekan.

Haalleluuyaa.

## Uumamni Hundi Waaqa Haa Galateeffatuu

# Faarfannaa 148

1 Haalleluuyaa.

Samiiwwan irraa WAAQAYYOON galateeffadhaa;
ol gubbaatti isa galateeffadhaa.
2 Ergamoonni isaa hundinuu isa galateeffadhaa;
raayyaan isaa hundinuus isa galateeffadhaa.
3 Aduu fi ji'i isa galateeffadhaa;
urjiiwwan ibsitan hundinuus isa galateeffadhaa.
4 Samiiwwan samii isa galateeffadhaa;
bishaanonni samiin ol jirtanis isa galateeffadhaa.
5 Isaan maqaa WAAQAYYOO haa galateeffatan;
inni ajajnaan, isaan uumamaniitii.
6 Inni bara baraa hamma bara baraatti isaan dhaabeera;
seera hin geeddaramnes isaaniif kenneera.

7 Uumamawwan galaanaatii fi tuujubawwan hundi,
lafa irraa WAAQAYYOON galateeffadhaa;
8 bakakkaa fi dhagaan cabbii, cabbii fi duumessi,
bubbeen jabaan ajaja isaa raawwatan,
9 tulluuwwanii fi gaarran hundinuu,
mukkeen ija naqatanii fi birbirsi hundinuu,
10 bineensonnii fi loon hundinuu,
uumamawwan xixinnoo fi simbirroonni barrisan,
11 mootonni lafaatii fi saboonni hundinuu,
ilmaan moototaatii fi bulchitoonni lafaa hundinuu,
12 dargaggoonnii fi shamarran,
jaarsolii fi daa'imman isa galateeffadhaa.

13 Maqaan isaa qofti ol ol jedheeraatii,
isaan maqaa WAAQAYYOO haa galateeffatan;
ulfinni isaas lafaa fi samiiwwanii ol jira.
14 Inni saba isaatiif gaanfa ol kaaseera;
kunis qulqulloota isaa hundaaf,
saba Israa'el warra isatti dhi'oo jiran hundaaf ulfina.

Haalleluuyaa.

## Faarfannaa Mo'annoo

# Faarfannaa 149

1 Haalleluuyaa.

Faarfannaa haaraa WAAQAYYOOF faarfadhaa;
waldaa qulqullootaa keessatti illee isa jajadhaa.

2 Israa'el Uumaa isaatti haa gammadu;
sabni Xiyoon Mootii isaatti haa gammadu.

3 Maqaa isaas shuubbisuudhaan haa jajatu;
dibbee fi baganaadhaan isaaf haa faarfatu.
4 WAAQAYYO saba isaatti ni gammadaatii;
warra gad of qabanis fayyina gonfachiisa.
5 Qulqulloonni ulfina kanatti haa gammadan;
siree isaanii irrattis gammachuudhaan haa faarfatan.

6 Galanni Waaqaa afaan isaanii keessa haa jiraatu;
goraadeen afaan lamaas harka isaanii keessa haa jiraattu;
7 kunis sabootatti haaloo ba’uu fi
namoota adabuudhaaf;
8 mootota isaanii foncaan,
hangafoota isaaniis funyoo sibiilaatiin hidhuudhaaf,
9 murtii barreeffame sana isaan irratti dhugaa ba’uudhaaf.
Kunis amanamtoota isaa hundaaf ulfina.

Haalleluuyaa.

## Faarfannaa Galataa

# Faarfannaa 150

1 Haalleluuyaa.

Mana qulqullummaa isaa keessatti Waaqa galateeffadhaa;
samiiwwan isaa humna qabeeyyii keessattis isa galateeffadhaa.
2 Hojiiwwan isaa jajjaboo sanaaf isa leellisaa;
guddina isaa hamma hin qabne sanaaf isa leellisaa.
3 Malakata afuufuudhaan isa galateeffadhaa;
baganaa fi kiraaraan isa galateeffadhaa;
4 dibbeedhaan shuubbisaatii isa jajadhaa;
mi’a ribuutii fi ululleedhaan isa jajadhaa.
5 Kilillee sagalee qabuun isa jajadhaa;
kilillee sagalee guddaatiin isa jajadhaa.

6 Wanni hafuura baafatu hundinuu WAAQAYYOON haa jajatu.

Haalleluuyaa.

# Kitaaba Fakkeenyaa

## Kaayyoo Ijoo Dubbii Kitaabichaa

1 Fakkeenya Solomoon Ilma Daawit, mootii Israa'el:
2 Ogummaa fi qajeelfama qabaachuudhaaf,
dubbii beekumsa guddaa hubachuudhaaf;
3 ogummaadhaan jiraachuudhaan, qajeelummaadhaan,
murtii qajeelaa kennuu fi nama wal qixxeessuudhaan
qajeelfama argachuudhaaf;
4 warra waa hin beekneef of eeggannoo kennuudhaaf,
dargaggootaaf immoo beekumsaa fi hubannaa kennuudhaaf,
5 ogeeyyiin dhaggeeffatanii barumsa isaanii irratti waa haa dabalatan;
warri qalbii qabanis qajeelfama haa argatan;
6 kunis fakkeenyaa fi hiikkaa,
jechaa fi hibboo ogeeyyii hubachuudhaaf.

7 WAAQAYYOON sodaachuun jalqaba ogummaa ti;
gowwoonni garuu ogummaa fi adabamuu tuffatu.

## Gorsa Akka Namni Ogummaa Argatuuf Kenname

*Gowwoomfamuu Irraa Of Eeguu*

8 Yaa ilma ko, gorsa abbaa keetii dhaggeeffadhu;
barsiisa haadha keetii illee hin gatin.
9 Wanni kun mataa kee miidhagsuudhaaf gonfoo,
morma kee bareechuudhaaf immoo faaya siif ta'a.

10 Yaa ilma ko, yoo cubbamoonni sossobanii
ofitti si harkisan, tole hin jedhiniif.
11 Yoo isaan, "Nu wajjin kottu;
riphnee dhiiga namaa dhangalaasnaa;
nama balleessaa hin qabne galaafachuudhaafis
dhokannee eeggannaa;
12 kottu akkuma awwaalaa jiraatti isaan liqimsinaa;
akkuma warra boolla keessa buufamaniis
guutumaan guutuutti isaan liqimsinaa;
13 nu waan gatii qabu kan gosa hundaa ni arganna;
manneen keenya illee boojuudhaan guuttanna;
14 ixaa kee nu wajjin buufadhu;
nus korojoo tokko si wajjin qooddannaa" siin jedhan,
15 yaa ilma ko, ati isaan wajjin hin deemin;
miilla keetiin karaa isaanii irra illee hin ejjetin;
16 miilli isaanii cubbuutti ariifataatii;
isaan dhiiga dhangalaasuuf jarjaru.
17 Utuma simbirroonni hundi arganuu,
kiyyoo buusuun waan gatii hin qabnee dha!
18 Namoonni kunneen dhiiguma ofii isaanii riphanii eeggatu;
lubbuma ofii isaanii gaadu!

19 Kun dhuma warra qabeenya karaa hamaadhaan argamu duukaa bu'an hundaa ti;
wanni akkasii jireenya warra isa argatanii balleessa.

### *Akeekkachiisa Ogummaa Tuffachuu Irratti Kenname*

20 Ogummaan karaa irratti guddiftee iyyiti;
iddoo wal ga'ii uummataattis sagalee ishee ol fudhatti.
21 Isheen fiixee daandii irraa iyyiti;
karra magaalaa duraas akkana jettee dubbatti:

22 "Isin warri homaa hin beekne
kun hamma yoomiitti karaa keessan kan faayidaa hin qabne sana jaallattu?
Warri namatti qoosan hamma yoomiitti qoosaa sanatti gammadanii
gowwoonnis beekumsa jibbu?
23 Mormii koo qalbeeffadhaa;
ani yaada koo isinii nan dhangalaasa;
dubbii koos isiniifin ibsa.
24 Garuu sababii isin yeroo ani isin waametti diddanii
yeroo ani harka bal'ifadhetti namni tokko iyyuu na hin dhaggeeffatiniif,
25 waan isin gorsa koo hunda tuffattanii
dheekkamsa koo dhaga'uu diddaniif,
26 anis badiisa keessanitti nan kolfa,
yeroo balaan isinitti dhufuttis nan qoosa;
27 yeroo balaan akkuma bubbeetti isin fudhatutti,
yeroo badiisni akkuma bubbee hamaatti isin haxaa'utti,
yeroo dhiphinaa fi rakkinni isinitti dhufutti ani isinittan qoosa.

28 "Yeroo sana isaan na waammatu; ani garuu isaan jalaa hin owwaadhu;
isaan na barbaadu; garuu na hin argatan.
29 Isaan waan beekumsa jibbanii
WAAQAYYOON sodaachuu illee filachuu didaniif,
30 waan gorsa koo fudhachuu didanii
dheekkamsa koos tuffataniif,
31 isaan gatii karaa isaanii ni nyaatu;
bu'aa jal'ina isaaniis ni quufu.
32 Gowwoota waa dagachuutu isaan balleessaatii;
quufni gowwootaa isaanuma balleessa;
33 namni na dhaggeeffatu kam iyyuu garuu nagaadhaan jiraata;
inni qabbanaan jiraata; wanni hamaanis isa hin sodaachisu."

# 2

### *Badhaasa Ogummaa*

1 Yaa ilma ko, yoo ati dubbii koo fudhattee
ajaja koos of keessatti kuufatte,
2 yoo ati gurra kee ogummaatti garagalfattee
yaada kee hubannaatti deebifatte,
3 yoo ati jabaattee qalbeeffannaa barbaaddee
hubannaa argachuuf jettee iyyitee kadhatte,
4 yoo ati akkuma meetiitti isa barbaaddattee
akkuma qabeenya dhokfameetti isa barbaadde,
5 ati WAAQAYYOON sodaachuu ni hubatta;
Waaqa beekuus ni argatta.

6 WAAQAYYO ogummaa namaa kennaatii;
afaan isaa keessaa illee beekumsaa fi hubannaatu ba'a.
7 Inni qajeeltotaaf ogummaa dhugaa kuusa;
warra adeemsi isaanii mudaa hin qabneef gaachana;
8 inni daandii tolootaa ni eega;
karaa qulqulloota isaa illee ni tiksa.

9 Ergasii ati qajeelummaa fi murtii qajeelaa,
nama wal qixxeessuu, karaa qajeelaa hundas ni hubatta.
10 Ogummaan garaa kee seena;
beekumsis lubbuu kee gammachiisa.
11 Qalbeeffannaan si eega;
hubannaanis si tiksa.

12 Ogummaan karaa hamootaa irraa,
namoota daba dubbatan jalaas si baraara;
13 warra karaa dukkanaa irra deemuudhaaf jedhanii
daandii qajeelaa dhiisan,
14 warra waan hamaa hojjechuutti gammadan,
warra jal'ina hojjechuun itti tolu,
15 warra daandiin isaanii jal'ate,
warra karaan isaanii dabe jalaa si baraara.

16 Ogummaatu dubartii ganda labee,
niitii dubbiidhaan sossobdee ofitti nama harkiftu jalaa si baraara;
17 niitii dhirsa ishee kan jalqabaa dhiiftee
kakuu fuula Waaqaa duratti galte sana dagatte jalaa si baraara.
18 Manni ishee gara du'aatti, karaan ishee immoo
gara hafuurota warra du'aniitti nama geessaatii.
19 Namni gara ishee dhaqu tokko iyyuu hin deebi'u
yookaan karaa jireenyaa hin argatu.

20 Kanaafuu ati karaa namoota gaggaarii irra ni deemta;
daandii qajeeltotaa irraas hin jal'attu.
21 Toloonni biyyattii keessa ni jiraatuutii;
warri mudaa hin qabnes achi keessa jiraatu;
22 hamoonni garuu biyyattii keessaa ni balleeffamu;
warri hin amanamnes ishee keessaa buqqifamu.

# 3

*Eebba Ogummaa*

1 Yaa ilma ko, barumsa ani siif kennu hin dagatin;
ajaja koos garaatti qabadhu;
2 isaan bara baay'ee fi umurii dheeraa,
nagaa fi badhaadhummaa siif dabaluutii.

3 Jaalallii fi amanamummaan yoom iyyuu sirraa hin fagaatin;
morma keetti hidhadhu;
gabatee garaa kee irrattis barreeffadhu.
4 Ati karaa kanaan fuula Waaqaatii fi

fuula namaa duratti surraa fi maqaa gaarii ni argatta.

5 Garaa kee guutuun WAAQAYYOON amanadhu;
hubannaa kees hin abdatin;
6 karaa kee hunda keessatti isa dursi;
innis daandii kee siif qajeelcha.

7 Ani ogeessa ofiin hin jedhin;
WAAQAYYOON sodaadhu; waan hamaa irraas fagaadhu.
8 Wanni kun dhagna keetiif fayyaa kenna;
lafee kee illee ni haaromsa.

9 Qabeenya keetiin,
mataa midhaan keetii hundaanis WAAQAYYOON kabaji;
10 yoos gombisaan kee hamma irraan dhangala'utti guutama;
iddoon cuunfaa wayinii keetiis
daadhiidhaan guutamee irraan dhangala'a.

11 Yaa ilma ko, adabbii WAAQAYYOO hin tuffatin;
dheekkamsa isaas hin jibbin.
12 WAAQAYYO akkuma abbaa ilma ofii isaa jaallatu tokkootti
warra jaallatu ni adabaatii.

13 Namni ogummaa argatu
kan hubannaas argatu eebbifamaa dha;
14 ogummaan meetii caalaa faayidaa qabaatii;
warqee caalaas bu'aa namaaf buusa.
15 Gatiin ishee gatii lula diimaa caala;
wanni ati akka malee hawwitu kam iyyuu isheedhaan wal qixxaachuu hin danda'u.
16 Jireenyi dheeraan harka ishee mirgaa keessa jira;
badhaadhummaa fi ulfinni harka ishee bitaa keessa jiru.
17 Karaan ishee karaa nama gammachiisuu dha;
daandiin ishee hundis nagaa dha.
18 Isheen warra jabeessanii ishee qabataniif muka jireenyaa ti;
warri itti cichanii ishee qabatan immoo ni eebbifamu.

19 WAAQAYYO ogummaadhaan hundee lafaa buuse;
hubannaadhaanis samiiwwan iddoo isaanii kaa'e;
20 beekumsa isaatiin tuujubawwan gargar qoodaman;
duumessoonnis fixeensa coccobsan.

21 Yaa ilma ko ogummaa fi hubannaa dhugaa eeggadhu;
isaanis fuula kee duraa hin dhabamin;
22 isaan jireenya siif ta'u;
morma kee miidhagsuufis faaya mormaa siif ta'u.
23 Yoos ati karaa kee nagumaan deemta;
miilli kees hin gufatu;
24 ati yoo raftu hin sodaattu;
hirribni kees yoo ati raftu sitti mi'aawa.
25 Balaa akkuma tasaa sitti dhufu

yookaan badiisa hamoota galaafatu hin sodaatin;
26 WAAQAYYO irkoo siif ta'aatii;
akka miilli kee kiyyoodhaan hin qabamnes si eega.

27 Ati yeroo waan tokko gochuudhaaf aangoo qabdutti,
warra wanni gaariin isaaniif malu irraa waan sana hin hanqisin.
28 Utuu amma waa qabduu,
ollaa keetiin, “Yeroo biraa deebi'ii kottu;
ani bori siifin kennaatii” hin jedhin.
29 Ollaa kee kan si amanee si cina jiraatu miidhuuf jettee
waan hamaa itti hin yaadin.
30 Nama tokko utuu inni homaa si hin godhin
akkasumaan hin miidhin.

31 Nama dabaatti hin hinaafin;
yookaan karaa isaa tokko illee hin filatin.

32 WAAQAYYO nama jal'aa ni jibbaatii;
nama qajeelaa garuu ofitti aanfata.
33 Abaarsi WAAQAYYOO mana nama hamaa irra bu'a;
inni garuu mana nama qajeelaa ni eebbisa.
34 Inni qoostota of tuultotatti ni qoosa;
warra gad of qabaniif immoo ayyaana kenna.
35 Ogeeyyiin ulfina dhaalu;
gowwoota garuu inni ni qaanessa.

# 4

*Ogummaan Waan Hunda Caalti*

1 Yaa ilmaan ko, mee gorsa abbaan namaaf kennu dhaga'aa;
qalbeeffadhaatii hubannaa argadhaa.
2 Ani barumsa gaarii isinii nan kenna;
kanaafuu barsiisa koo hin dhiisinaa.
3 Yeroo ani mucaa xinnaa ta'ee mana abbaa koo turetti,
yeroo ani daa'ima dhiiga ta'ee haadha kootiif ilma tokkicha turetti,
4 inni akkana jedhee na barsiise;
“Garaa kee guutuudhaan dubbii koo jabeessii qabadhu;
seera koo eegi; ati ni jiraattaatii.
5 Ogummaa argadhu; hubannaas argadhu;
dubbii koo hin dagatin yookaan irraa hin jal'atin.
6 Ogummaa hin dhiisin; isheen si eegdii;
ishee jaalladhu; isheenis si tiksitii.
7 Ogummaan waan hunda caalti; kanaafuu ogummaa argadhu.
Yoo isheen waan ati qabdu hunda si baasifte illee hubannaa argadhu.
8 Ogummaa kabaji; inni ol si guddisaatii;
isa hammadhu; innis si kabajaatii.
9 Isheen kallacha bareedaa mataa kee irra siif keessi;
gonfoo miidhagaa illee siif kenniti.”

10 Yaa ilma ko dhaga'i; waan ani jedhu illee fudhadhu;
barri jireenya keetiis ni baay'ataa.

11 Ani karaa ogummaa irra sin qajeelcha;
daandii qajeelaa irras sin buusa.
12 Yeroo ati deemtu, tarkaanfiin kee hin ittifamu;
yoo fiigdu illee ati hin gufattu.
13 Qajeelfama jabeessii qabadhu; gad hin dhiisin;
waan inni jireenya kee ta'eef jabeessii eeggadhu.
14 Daandii hamootaa irra miilla kee hin dhaabin
yookaan karaa jal'ootaa irra hin deemin.
15 Irraa fagaadhu; irras hin deemin;
irraa goriitii karaa kee irra qajeeli.
16 Isaan waan hamaa hojjetan malee rafuu hin danda'aniitii;
isaan hamma nama gufachiisanitti hirriba hin argatan.
17 Isaan buddeena hamminaa nyaatu;
daadhii wayinii kan dabaan argame dhugu.

18 Karaan qajeeltotaa akkuma ifa barii barraaqaa
kan hamma saafaatti ittuma fufee ifaa deemuu ti.
19 Karaan hamootaa garuu akkuma dukkana guddaa ti;
isaan waan isaan gufachiisu hin beekan.

20 Yaa ilma ko, waan ani jedhu qalbeeffadhu;
dubbii kootiifis gurra kenni.
21 Akka inni fuula kee duraa dhabamu hin godhin;
garaa kee keessa ol kaa'adhu;
22 inni warra isa argatuuf jireenya,
dhagna namaa guutuufis fayyinaatii.
23 Waan hunda caalaa qalbii kee eeggadhu;
burqaan jireenyaa achii ba'aatii.
24 Dubbii jal'inaa afaan kee keessaa balleessi;
haasaa hamaas arraba kee irraa fageessi.
25 Iji kee kallattiidhaan qajeelchee haa ilaalu;
atis xiyyeeffadhuu fuula kee dura ilaali.
26 Miilla keetiif daandii wal qixxeeffadhu;
karaan kee hundinuu haa jabaatu.
27 Gara mirgaatti yookaan gara bitaatti hin gorin;
miilla kee hammina irraa eeggadhu.

# 5

*Ejja Irraa Of Eeggachuu*

1 Yaa ilma ko, ogummaa koo qalbeeffadhu;
hubannaa kootiif illee gurra kenni;
2 kunis akka ati hubannaa turfattee
arrabni kees beekumsa kuufattuuf.
3 Hidhiin ejjituu damma coccobsa;
haasaan ishee zayitii caalaa lallaafa;
4 dhuma irratti garuu isheen akkuma hadhooftuu hadhoofti;
akkuma goraadee afaan lamaas qara qabeettii dha.
5 Miilli ishee gara du'aatti gad bu'a;
tarkaanfiin ishee awwaalatti nama geessa.
6 Isheen waa'ee karaa jireenyaa dhimma hin qabdu;

daandiin ishee jal’aa dha; isheen garuu kana hin beektu.

7 Egaa yaa ilmaan ko, mee na dhaga’aa;
waan ani jedhu irraa gara kamitti iyyuu hin gorinaa.
8 Karaa keessan ishee irraa fageeffadhaa;
balbala mana isheetti hin dhi’aatinaa;
9 kunis akka ati ulfina kee nama biraatiif,
umurii kees nama namaaf hin naaneef hin kennineef;
10 akkasumas qabeenya kee ormatu nyaata;
dadhabbiin kees mana alagaa badhaasa.
11 Dhuma jireenya keetiitti,
yeroo foonii fi dhagni kee dhumutti ati ni aadda.
12 Atis akkana jetta; “Ani akkamittin adabamuu jibbee!
Garaan koos akkam sirreeffamuu tuffate!
13 Ani barsiistota kootiif hin ajajamne
yookaan qajeelchitoota koo hin dhaggeeffanne.
14 Ani waldaa guutuu gidduutti
qarqara badiisaa ga’een ture.”

15 Eela kee keessaa bishaan,
boolla bishaanii kee keessaa immoo bishaan qulqulluu dhugi.
16 Burqaan kee guutee daandii irra, bishaan kee kan yaa’us
oobdii keessa dhangala’uu qabaa?
17 Isaan kan kee haa ta’an;
ormi si wajjin qooddachuu hin qabu.
18 Burqaan kee haa eebbifamu;
niitii dargaggummaa keetiitti gammadi.
19 Isheen miidhagduu akka borofaa, bareedduu akka gadamsaa ti;
harmi ishee yeroo hunda sitti haa tolu;
yeroo hunda jaalalli ishee si haa booji’u.
20 Yaa ilma ko, ati maaliif ejjituudhaan booji’amta?
Maaliif bobaa niitii nama biraa hammatta?

21 Karaan namaa guutumaan guutuutti fuula WAAQAYYOO dura jiraatii;
innis daandii namaa hunda ni to’ata.
22 Balleessaan nama hamaa isuma qabaata;
funyoon cubbuu isaa jabeessee isa qaba.
23 Inni sababii adabamuu dhabeef du’a;
guddinni gowwummaa isaas karaa irraa isa balleessa.

# 6

*Akeekkachiisa Waa’ee Gowwummaa Irratti Kenname*

1 Yaa ilma ko, ati yoo ollaa keetiif wabii taatee
harka dhooftee nama ormaatiif kakatte,
2 yoo waanuma dubbatteen qabamtee
dubbuma afaan keetiitiin kiyyoo seente,
3 yoos yaa ilma ko,
ati sababii harka ollaa keetii seentee jirtuuf
ati of baasuudhaaf
dafii dhaqiitii gad of qabii
jabeessiitii ollaa kee kadhadhu!

4 Ija keetiif hirriba,
baallee ija keetiitiif immoo mugaatii hin eeyyamin.
5 Ati akkuma kuruphee harka adamsituutii baatuutti,
akkuma simbirroo kiyyoo nama ishee qabuu jalaa baatuutti of oolchi.

6 Yaa dhibaa'aa nana mee gara goondaa dhaqi;
karaa ishee qalbeeffadhuutii ogeessa ta'i!
7 Inni ajajjaa hin qabu;
to'ataa yookaan bulchaa hin qabu;
8 ta'u illee inni bona keessa nyaata isaa kuufata;
yeroo midhaan galfamutti immoo nyaata isaa walitti qabata.

9 Yaa dhibaa'aa nana, ati hamma yoomiitti ciifta?
Ati yoomi hirriba keetii kaata?
10 Hirriba xinnaa, mugaatii xinnaa,
xinnoo harka walitti marachuu,
11 hiyyummaanis akkuma hattuutti sitti dhufa;
deegummaanis akkuma loltuu hidhateetti sitti dhufa.

12 Namni rakkisaan, namni hamaan,
dubbii sobaatiin asii fi achi naanna'a;
13 inni ijaan dha'a;
miilla isaatiinis mallattoo kenna;
quba isaatiin argisiisa;
14 inni garaa isaa isa sobaadhaan hammina yaada;
yeroo hundas lola kakaasa.
15 Kanaafuu badiisni yommusuma isatti dhufa;
inni akkuma tasaa caba; deebi'ees hin fayyu.

16 Waaqayyo waan ja'a jibba;
waan torba immoo ni xireeffata; isaanis:
17 Ija of tuulu,
arraba sobu,
harka dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasu,
18 garaa mala hamaa malu,
miilla gara jal'inaatti ariifatu,
19 dhuga baatuu sobaa kan soba dhangalaasu,
nama obboloota gidduutti lola kakaasuu dha.

### *Akeekkachiisa Waa'ee Ejjaa Irratti Kenname*

20 Yaa ilma ko, ajaja abbaa keetii eegi;
barsiisa haadha keetii illee hin gatin.
21 Bara baraan garaa keetti qabadhu;
morma keettis hidhadhu.
22 Yeroo ati deemtu isaan si qajeelchu;
yeroo ati raftu si eegu;
yeroo ati hirribaa kaatu illee si haasofsiisu.
23 Ajajni kun ibsaadhaatii;
barsiisni kunis ifa;
sirreeffamni amalaa immoo karaa jireenyaa ti;
24 isaan dubartii hamtuu irraa,

niitii kashlabbee afaan dammaa irraa si eegu.

25 Garaa kee keessatti bareedina ishee hin dharra'in;
yookaan akka isheen ija isheetiin si boojitu hin godhin.

26 Sagaagaltuun buddeena tokkoon bitamtiitii;
ejjituunis jireenyuma kee adamsiti.
27 Namni bobaa jalatti ibidda baadhatee
wayyaan isaa hin gubanne jiraa?
28 Namni ibidda cilee irra ejjetee
miilli isaa hin gubanne jiraa?
29 Namni niitii nama biraa wajjin ciisus akkasuma ta'a;
namni ishee tuqu kam iyyuu utuu hin adabamin hin hafu.

30 Yoo hattuun tokko beela ba'uuf jedhee hate,
namoonni hin tuffatan.
31 Garuu inni yoo qabame dachaa torba baasa;
mi'a mana isaa hundas ni kenna.
32 Namni sagaagalu qalbii hin qabu;
namni waan akkasii hojjetu ofuma galaafata.
33 Qoodni isaa dhaanamuu fi salphachuu dha;
qaaniin isaa yoom iyyuu isa irraa hin haqamu.

34 Hinaaffaan aarii dhirsaa kakaasaatii;
inni yeroo haaloo ba'utti dhiifama tokko iyyuu hin godhu.
35 Inni beenyaa tokko illee hin fudhatu;
hammam baay'atu iyyuu inni matta'aa ni dida.

# 7

*Sagaagaltuu Irraa Of Eeggachuu*

1 Yaa ilma ko, dubbii koo eegiitii
ajaja koos of keessatti kuufadhu.
2 Ajaja koo eegi, ati ni jiraataatii;
barsiisa koos akkuma qaroo ija keetiitti eegi.
3 Quba keetti isaan hidhadhu;
gabatee garaa keetii irrattis barreeffadhu.
4 Ogummaan, "Ati obboleettii koo ti" jedhi;
hubannaa immoo, fira koo jedhii waami;
5 isaan sagaagaltuu irraa, niitii kashlabbee dubbii isheetiin
nama harkiftu irraa si eegu.

6 Ani foddaa mana koo biraa keessaan,
karaa qaawwaatiin ala ilaale.
7 Ani warra homaa hin dandeenye keessatti,
dargaggoota keessatti hubadhee
dargaggeessa qalbii hin qabne tokko arge.
8 Innis karaa mana ishee dhaqu qabatee
daandii golee mana ishee bira jiruutiin gad bu'aa ture.
9 Kunis yeroo aduun dhiitee lafti dimimmisaa'aa turetti,
yeroo halkan dukkanaa'uu jalqabetti ture.

10 Dubartiin tokko akka sagaagaltuutti uffattee
yaada haxxummaatiin isa simachuuf gad baate.
11 Isheen iyyituu fi kashlabbee dha;
miilli ishee mana hin dhaabatu;
12 takka daandii irratti, takka oobdii irratti,
golee hundatti riphxee nama eeggatti.
13 Isheen qabdee isa dhungatti;
fuula qaanii hin qabneen akkana jettiin:

14 "Ani aarsaa nagaa dhi'eessuun qaba;
har'a wareega koo guuttadheera.
15 Kanaafuu ani si simachuufin gad ba'e;
ani barbaadee si argadheera!
16 Ani wayyaa bareedduu quncee talbaa irraa hojjetame kan Gibxii dhufeen,
siree koo afee miidhagseera.
17 Ani qumbiin, argeessaa fi qarafaan
siree koo urgeesseera.
18 Kottu mee hamma bariitti gad fageenya jaalalaa walii wajjin dhugnaa;
kottu jaalalaan of gammachiifnaa!
19 Dhirsi koo mana hin jiru;
inni karaa dheeraa deemeera.
20 Inni boorsaa isaa maallaqaan guuttatee deeme;
hamma ji'i goobanutti manatti hin deebi'u."

21 Isheen dubbii mi'ooftuudhaan karaa irraa isa jal'ifte;
haasaa nama sossobuunis isa dirqisiifte.
22 Innis akkuma sangaa qalamuuf deemuutti,
akkuma gadamsa kiyyoo keessa seenuuttis
yommusuma ka'ee ishee duukaa bu'e;
23 akkuma simbira kiyyootti ariifattuutti,
inni hamma xiyyi tiruu isaa waraanutti
akka wanni kun lubbuu isaa galaafatu hin beeku.

24 Egaa yaa ilmaan ko, na dhaggeeffadhaa;
waan ani jedhus qalbeeffadhaa.
25 Akka garaan kee karaa isheetti garagalu hin godhin;
karaa kee irraas baddee daandii ishee irra hin bu'in.
26 Namoonni hedduun warra isheen lafaan dhooftee dha;
namoonni jajjaboon baay'eenis harka isheetti dhumaniiru.
27 Manni ishee karaa qileetti nama geessu,
kan gola du'aatti gad nama buusuu dha.

# 8

*Waamicha Ogummaa*

1 Ogummaan hin iyyuu?
Hubannaanis sagalee isaa ol hin fudhatuu?
2 Isheen qarqara karaa, lafa ol ka'aa irra,
iddoo daandiin itti wal ga'u dhaabatti;
3 karra magaalaatti nama galchu bira,
balbala dura dhaabattee akkana jettee iyyiti:

4 “Yaa namoota, ani iyyeen isin waama;
ani ilmaan namaa hundatti sagalee koo ol nan fudhadha.
5 Isin warri homaa hin beekne, qalbii horadhaa;
isin warri gowwaan hubannaa argadhaa.
6 Ani waan faayidaa qabu nan dubbadhaatii, dhaga’aa;
waan qajeelaa dubbachuufis afaan koo nan banadha.
7 Afaan koo dhugaa dubbata;
arrabni koo hammina jibbaatii.
8 Dubbiin afaan koo hundinuu qajeelaa dha;
dubbii koo keessaa tokko iyyuu jal’aa yookaan micciiramaa miti.
9 Nama waa hubatuuf dubbiin koo hundinuu qajeelaa dha;
warra beekumsa qabuufis hir’ina hin qabu.
10 Qooda meetii gorsa koo,
warqee qulqulluu caalaas beekumsa filadhu;
11 ogummaan lula diimaa caalaa gatii guddaa qabdii;
wanni ati hawwitu tokko iyyuu isheedhaan wal hin madaalu.

12 “Ani ogummaan, qalbii wajjin nan jiraadha;
ani beekumsaa fi hubannaa qaba.
13 Waaqayyoon sodaachuun jibbuu dha;
hammina ani of tuulummaa fi of guddisuu,
amala hamaa fi haasaa jal’aa nan jibba.
14 Gorsaa fi murtiin dhugaa kan koo ti;
ani hubannaa fi humna qaba.
15 Mootonni anaan mo’u;
bulchitoonnis anaan seera qajeelaa baasu.
16 Ilmaan moototaa anaan bulchu;
namoonni bebeekamoon hundis anaan biyya bulchu.
17 Ani warra na jaallatan nan jaalladha;
warri na barbaadanis na argatu.
18 Soorumnii fi ulfinni, qabeenyii fi
badhaadhummaan dhuma hin qabne harkuma koo jiru.
19 Iji koo warqee qulqulluu caala;
bu’aan narraa argamus meetii filatamaa caala.
20 Ani karaa qajeelummaa irra,
daandii qajeelaa irras nan deema;
21 warra na jaallatutti qabeenya nan dhangalaasa;
mankuusa qabeenya isaanii illee nan guuta.

22 “Waaqayyo waan bara durii hojjeteen dura,
hojii isaa kan jalqabaatiin dura na aanfate;
23 ani utuu addunyaan hin uumamin dura,
jalqabumatti, bara hamma hin qabneen dura nan muudame.
24 Ani utuu tuujubni hin jiraatin,
utuu burqaawwan bishaaniin hin guutamin dhaladhe;
25 utuu tulluuwwan iddoo isaanii hin dhaabamin dura,
ani gaarraniin dura nan dhaladhe;
26 utuu inni lafa yookaan dirree ishee
yookaan biyyoo addunyaa tokko iyyuu
hin uumin dura nan dhaladhe.

27 Yeroo inni samiiwwan hundeessetti,
yeroo inni dhidhima irra muummee kaa’etti ani achin ture;
28 yeroo inni gubbaatti duumessa jabeessee dhaabee
madda tuujubaa illee hundeessetti ani achin ture;
29 yeroo inni akka bishaanonni ajaja isaa hin cabsineef jedhee,
galaanaaf daangaa dhaabetti,
yeroo inni lafa hundeessetti ani achin ture.
30 Yeroo sanatti ani ogeessa hojii harkaa ta’ee isa biran ture.
Ani yeroo hunda fuula isaa dura burraaqaa,
guyyuma guyyaadhaan gammachuudhaan guutamaan ture;
31 ani guutummaa addunyaa isaa keessatti ililchaa,
ilmaan namaatti illee gammadaan ture.

32 “Eegaa yaa ilmaan ko, mee na dhaga’aa;
warri karaa koo eegan eebbifamoo dha.
33 Gorsa koo dhaggeeffadhaatii ogeeyyii ta’aa;
isa hin tuffatinaa.
34 Namni na dhaga’u,
kan guyyaa hunda balbala koo eegu,
kan karra koo dura turu eebbifamaa dha.
35 Namni na argatu kam iyyuu jireenya argata;
WAAQAYYO biratti illee fudhatama argata.
36 Namni na hin arganne garuu ofuma miidha;
namni na jibbu hundinuu du’a jaallata.”

# 9

*Ogummaa fi Gowwummaa*

1 Ogummaan mana ishee ijaarratte;
utubaa ishee torbanis dhagaa irraa qopheeffate.
2 Isheen horii qalattee daadhii wayinii ishee bulbulatte;
maaddii ishee illee qopheeffatte.
3 Tajaajiltoota ishee dubarran ergattee
fiixee magaalaa irraa lallabde.
4 Isheen warra qalbii hin qabneen akkana jetti;
“Isin warri homaa hin beekne hundi as kottaa!
5 Kottaatii nyaata koo nyaadhaa;
daadhii wayinii ani bulbuladhe illee dhugaa.
6 Karaa gowwummaa keessanii sana dhiisaatii jiraadhaa;
karaa hubannaa irra deemaa.

7 “Namni nama namatti qoosu gorsu kam iyyuu ni arrabsama;
namni nama hamaa ifatu kam iyyuu ni salphata.
8 Ati nama namatti qoosu hin ifatin; inni si jibbaatii;
nama ogeessa ifadhu; inni si jaallataatii.
9 Nama ogeessa gorsi; inni ittuma caalchisee ogeessa ta’aa;
nama qajeelaaf barumsa kenni; inni beekumsa isaatti dabalaatii.

10 “WAAQAYYOON sodaachuun jalqaba ogummaa ti;
isa Qulqulluu Sana beekuun hubannaa dha.
11 Karaa kootiin barii jireenya keetii ni dheerata;

jireenya kee irrattis waggoonni ni dabalamuutii.
12 Yoo ati nama ogeessa taate, ogummaan kee si badhaasa;
yoo ati kan namatti qoostu taate suma qofatu gidirama.”

13 Dubartiin gowwaan oduu baay’ifti;
isheen raatuu homaa hin beeknee dha.
14 Isheen balbala mana ishee dura,
fiixee magaalaa gubbaa barcuma irra teessee
15 warra achiin darban, kanneen qajeelanii
daandii isaanii irra deeman waamti.
16 Isheen warra qalbii hin qabneen akkana jetti.
“Isin warri homaa hin beekne hundi as kottaa!
17 Bishaan hatan ni mi’aawa;
nyaanni dhoksaan nyaatanis guddoo namatti tola!”
18 Isaan garuu akka warri du’an achi jiran,
akka keessumoonni ishee dhidhima awwaalaa keessa jiran illee
xinnuma beeku.

# Fakkeenyawwan Solomoon

## 10

1 Fakkeenyawwan Solomoon:
Ilmi ogeessi abbaa isaa gammachiisa;
ilmi gowwaan garuu haadha isaa gaddisiisa.

2 Qabeenyi karaa hamaadhaan horatan gatii hin qabu;
qajeelummaan garuu du’a jalaa nama baasa.

3 Waaqayyo akka warri qajeelaan beela’an hin eeyyamu;
hawwii jal’ootaa garuu ni busheessa.

4 Harki hojii hin hojjenne nama hiyyoomsa;
harki jabaatee hojii hojjetu garuu nama sooromsa.

5 Namni yeroo bonaa midhaan walitti qabatu ilma ogeessa;
kan yeroo midhaan galfamutti rafu immoo
ilma nama qaanessuu dha.

6 Eebbi mataa qajeeltotaatti gonfoo kaa’a;
afaan hamootaa irra garuu jeequmsatu lola’a.

7 Yaadannoon nama qajeelaa eebba ta’a;
maqaan nama hamaa garuu lafa irraa bada.

8 Namni garaa isaatti ogeessa ta’e ajaja fudhata;
gowwaan oduu baay’isu garuu ni bada.

9 Namni amanamaan sodaa malee deema;
kan karaa isaa jal’isu garuu ni saaxilama.

10 Namni ija hamminaatiin waa namaan jedhu rakkoo uuma;
gowwaan oduu baay’isu garuu ni bada.

11 Afaan nama qajeelaa burqaa jireenyaa ti;
afaan hamootaa irra garuu jeequmsatu lola'a.

12 Jibbi lola kakaasa;
jaalalli garuu balleessaa hunda haguuga.

13 Ogummaan hidhii nama waa hubatuu irratti argamti;
uleen immoo dirra nama hubannaa hin qabnee irra bu'a.

14 Namoonni ogeeyyiin beekumsa kuufatu;
afaan gowwaa garuu badiisa waama.

15 Qabeenyi sooreyyii isaaniif magaalaa da'oo qabduu dha;
hiyyummaan garuu badiisa hiyyeeyyii ti.

16 Mindaan qajeeltotaa jireenya;
galiin hamootaa garuu cubbuu fi du'a.

17 Namni gorsa fudhatu karaa jireenyaa irra deema;
namni adaba didu kam iyyuu garuu warra kaan karaa irraa jal'isa.

18 Namni hidhii sobuun jibba dhokfatu,
kan maqaa namaa balleessus gowwaa dha.

19 Yoo dubbiin baay'atu, cubbuun keessaa hin dhabamu;
namni arraba isaa eeggatu garuu ogeessa.

20 Arrabni nama qajeelaa meetii filatamaa dha;
garaan nama hamaa garuu faayidaa xinnoo qaba.

21 Arrabni nama qajeelaa nama hedduu soora;
gowwoonni garuu hubannaa dhabiisaan du'u.

22 Eebbi WAAQAYYOO nama sooromsa;
inni rakkina tokko illee itti hin dabalu.

23 Gowwaan amala hamaadhaan gammachuu argata;
namni waa hubatu garuu ogummaatti gammada.

24 Wanni namni hamaan sodaatu isumatti dhufa;
hawwiin nama qajeelaa immoo ni guutamaaf.

25 Yeroo bubbeen hamaan bubbisu namoonni hamoon ni badu;
qajeeltonni garuu bara baraan jabaatanii jiraatu.

26 Akkuma wanni dhangaggaa'aan ilkaan miidhee,
aarris ija miidhu sana
namni dhibaa'aan warra isa ergatu miidha.

27 WAAQAYYOON sodaachuun bara jireenya namaa dheeressa;
umuriin nama hamaa garuu ni gabaabbata.

28 Abdiin nama qajeelaa gammachuu ta’a;
wanni namni hamaan eeggatu garuu ni bada.

29 Karaan Waaqayyoo nama qajeelaaf da’oo dha;
nama jal’aaf garuu badiisa.

30 Qajeeltonni yoom iyyuu hin fonqolfaman;
hamoonni garuu lafa irratti hin hafan.

31 Afaan nama qajeelaa ogummaa dubbata;
arrabni jal’aan garuu ni kutama.

32 Arrabni nama qajeelaa waan fudhatama qabu dubbata;
afaan nama hamaa garuu waan jal’aa qofa dubbata.

## 11

1 Waaqayyo madaalii hin amanamne ni balfa;
madaalii dhugaatti immoo ni gammada.
2 Gaafa of tuuluun dhufu, salphinatu dhufa;
gad of qabiisa wajjin immoo ogummaatu dhufa.

3 Amanamummaan tolootaa isaan dura deema;
warri hin amanamne garuu dabuma isaaniitiin badu.

4 Guyyaa dheekkamsaatti qabeenyi faayidaa hin qabu;
qajeelummaan garuu du’a jalaa nama baasa.

5 Qajeelummaan warra mudaa hin qabnee
karaa qajeelaa baasaaf;
hamoonni garuu hamminuma isaaniitiin badu.

6 Qajeelummaan tolootaa isaan oolcha;
warri hin amanamne garuu
hawwii hamaadhaan qabamu.

7 Yeroo namni hamaan du’u, abdiin isaas ni bada;
wanni namni hamaan eeggatus ni barbadeeffama.

8 Namni qajeelaan rakkoo jalaa ni baafama;
rakkoon sunis qooda isaa nama hamaa irra ga’a.

9 Namni Waaqatti hin bulle dubbii afaan isaatiin ollaa isaa balleessa;
namni qajeelaan immoo beekumsaan miliqa.

10 Yommuu namni qajeelaan badhaadhu magaalaan ni gammada;
yommuu namni hamaan barbadaa’u immoo iyya gammachuutu dhaga’ama.

11 Eebba nama tolaatiin magaalaan ulfina argata;
afaan nama hamaatiin garuu ni barbadeeffama.

12 Namni sammuu hin qabne ollaa isaa tuffata;
kan hubannaa qabu garuu ni cal'isa.

13 Namni odeessu dhoksaa gad baasa;
kan amanamu garuu icciitii eega.

14 Qajeelfama dhabiisaan sabni ni kufa;
baay'ina gorsitootaatiin garuu nagaatu argama.

15 Namni nama hin beekneef wabii ta'u ni rakkata;
namni namaaf kakachuuf jedhee harka dha'uu didu immoo
nagaan jiraata.

16 Dubartiin gara laafettiin ulfina argatti;
namoonni garaa dhagaa immoo qabeenya qofa argatu.

17 Namni gaariin of fayyada;
gara jabeessi garuu rakkina ofitti fida.

18 Namni hamaan mindaa sobaa argata;
kan qajeelummaa facaafatu immoo badhaasa dhugaa argata.

19 Namni qajeelaan dhugumaan jireenya argata;
kan waan hamaa duukaa bu'u garuu gara du'aa argata.

20 Waaqayyo warra yaada jal'aa qaban balfa;
warra karaan isaanii mudaa hin qabnetti immoo ni gammada.

21 Waan kana hubadhu: Namni hamaan utuu hin adabamin hin hafu;
qajeeltonni garuu bilisa ba'u.

22 Dubartiin miidhagduun qalbii hin qabne
akkuma qubeelaa warqee kan funyaan booyyeetti jirtuu ti.

23 Wanni qajeeltonni hawwan gaarii ta'aaf;
abdiin hamootaa garuu dheekkamsa qofa ta'a.

24 Namni tokko toluma waa namaa kenna;
ta'us ittuma caalchisee sooroma;
kaan immoo waan kennuu malu dhowwata;
ta'us inuma hiyyooma.

25 Namni arjaan ni badhaadha;
namni warra kaan dheebuu baasu ofii isaatii illee dheebuu ba'a.

26 Nama dhoksee midhaan kuufatu sabni ni abaara;
kan gurguruuf fedhii qabu immoo eebbatu gonfoo ta'aaf.

27 Namni waan gaarii barbaadu carraa gaarii argata;
hamminni garuu nama hammina barbaadutti dhufa.

28 Namni sooruma ofii isaa abdatu kam iyyuu ni kufa;
qajeelaan garuu akkuma baala magariisaatti lalisa.

29 Namni maatii isaatti rakkoo fidu bubbee qofa dhaala;
gowwaan immoo garbicha nama ogeessaa ta'a.

30 Iji nama qajeelaa muka jireenyaa ti;
namni lubbuu namaa baraaru immoo ogeessa.

31 Erga qajeeltonni lafa irratti gatii isaanii argatanii,
namni Waaqatti hin bullee fi cubbamaan
hammam caalaa haa argatanii ree!

# 12

1 Namni adabamuu jaallatu kam iyyuu beekumsa jaallata;
kan sirreeffamuu jibbu garuu gowwaa dha.
2 Namni gaariin Waaqayyo biratti fudhatama argata;
Waaqayyo garuu nama hammina malatutti ni mura.

3 Namni tokko hamminaan jabaatee hin dhaabatu;
qajeelaan garuu hin buqqifamu.

4 Niitiin amala gaarii dhirsa isheetiif gonfoo dha;
niitiin qaanessitu garuu akkuma tortora lafee isaa keessaa ti.

5 Karoorri qajeeltotaa qajeelaa dha;
gorsi jal'ootaa garuu gowwoomsaa dha.

6 Dubbiin hamootaa dhiiga dhangalaasuuf
riphee nama eeggata;
haasaan tolootaa garuu du'a jalaa nama baasa.

7 Namoonni hamoon ni garagalfamu; deebi'aniis hin argaman;
manni qajeeltotaa garuu jabaatee dhaabata.

8 Namni tokko akkuma ogummaa isaatti jajama;
namni yaada jal'aa qabu immoo ni tuffatama.

9 Namni tuffatamaan hojjetaa qabu tokko,
nama of kabaju kan waan nyaatu iyyuu hin qabne caala.

10 Namni qajeelaan lubbuu horii isaatiif yaada;
hojiin jal'ootaa garuu tolaan isaa iyyuu hammina.

11 Namni lafa isaa qotatu nyaata guddaa argata;
kan yaada faayidaa hin qabne duukaa bu'u garuu hubannaa hin qabu.

12 Hamoonni boojuu jal'ootaa hawwu;
hiddi qajeeltotaa garuu ni lalisa.

13 Namni hamaan cubbuu afaan isaatiin qabama;
namni qajeelaan garuu rakkoo jalaa miliqa.

14 Namni waan afaan isaatii ba'uun waan gaariin guutama;
hojiin harka namaas isumaaf deebi'a.

15 Nama gowwaa karaan isaa qajeelaa itti fakkaata;
namni ogeessi garuu gorsa dhaga'a.

16 Aariin gowwaa yommusuma isa irraa beekama;
namni hubataan garuu arrabsoo tuffata.

17 Namnii dhugaa dubbatu ragaa amanamaa kenna;
dhuga baatuun sobaa garuu soba dubbatti.

18 Dubbiin of eeggannaa hin qabne
akkuma goraadee nama waraana;
arrabni nama ogeessaa garuu nama fayyisa.

19 Afaan dhugaa dubbatu bara baraan jiraata;
arrabni soba dubbatu garuu yeroo gabaabaa qofa jiraata.

20 Garaa warra waan hamaa malatanii keessa
gowwoomsaatu jira;
warri nagaa buusan garuu gammachuu qabu.

21 Qajeeltotatti miidhaan tokko iyyuu hin dhufu;
hamoonni rakkinaan guutamu.

22 WAAQAYYO arraba sobu ni jibba;
warra dhugaa dubbatutti garuu ni gammada.

23 Namni hubataan beekaa ta'uu isaa dhokfata;
gowwoonni garuu gowwummaa isaanii labsu.

24 Harki nama jabaatee hojjetuu ni mo'a;
dhibaa'ummaan garuu garbummaatti nama geessa.

25 Garaan yaadda'u gad nama deebisa;
dubbiin tolaan immoo nama gammachiisa.

26 Namni qajeelaan ollaa isaa karaa argisiisa;
karaan hamootaa garuu karaa irraa nama jal'isa.

27 Namni dhibaa'aan waan adamsee ajjeese hin waaddatu;
kan jabaatee hojjetu immoo qabeenya gatii guddaa argata.

28 Karaa qajeelummaa irra jireenyatu jira;
daandii sana irra duuti hin jiru.

# 13

1 Ilmi ogeessi gorsa abbaa isaa dhaga'a;
qoostuun namaa immoo dheekkamsa hin dhaggeeffatu.

2 Namni waan afaan isaatii ba'uun waan gaariin gammada;
namni hin amanamne garuu jeequmsaaf ariifata.

3 Namni arraba isaa eeggatu, jireenya isaa eeggata;
kan of eeggachuu malee dubbatu immoo baduuf ariifata.

4 Fedhiin dhibaa'aa yoom iyyuu hin guutamu;
fedhiin nama jabaatee hojjetuu immoo guutumaan ni milkaa'a.

5 Namni qajeelaan soba jibba;
namni hamaan garuu qaanii fi salphina fida.

6 Qajeelummaatu nama tolaa tiksa;
hamminni garuu cubbamaa galaafata.

7 Namni tokko sooressa of fakkeessa; garuu homaa hin qabu;
tokko immoo hiyyeessa of fakkeessa; garuu qabeenya guddaa qaba.

8 Soorumni nama tokkoo furii jireenya isaa ta'uu danda'a;
hiyyeessi garuu ifannaa hin dhaga'u.

9 Ifni nama qajeelaa akka gaarii ifa;
ibsaan nama hamaa garuu ni dhaama.

10 Of tuulummaan lola qofa baay'isa; ogummaan garuu
warra gorsa dhaga'an biratti argamti.

11 Maallaqni karaa sobaatiin dhufu dafee bada;
namni xinnoo xinnoon maallaqa walitti qabatu garuu ni kuufata.

12 Abdiin lafa irra harkifatu garaa nama dhukkubsa;
hawwiin guutamu garuu muka jireenyaa ti.

13 Namni gorsa tuffatu badiisa ofitti fida;
kan ajaja ulfeessu immoo badhaasa argata.

14 Barsiisni nama ogeessaa burqaa jireenyaa ti;
kiyyoo du'aa irraas nama deebisa.

15 Hubannaan gaariin surraa argamsiisa;
karaan warra hin amanamnee garuu
badiisatti isaan geessa.

16 Namni qalbii qabu kam iyyuu beekumsaan hojjeta;
gowwaan immoo gowwummaa isaa mul'isa.

17 Ergamaan hamaan rakkoo keessa seena;

ergamaan amanamaan garuu fayyina fida.

18 Namni adabamuu jibbu ni hiyyooma; ni qaana'as;
kan sirreeffama kabaju immoo ulfina argata.

19 Hawwiin guutame namatti mi'aawa;
gowwoonni garuu waan hamaa irraa deebi'uu balfu.

20 Namni nama ogeessa wajjin deemu ogeessa ta'a,
michuun gowwootaa garuu ni miidhama.

21 Wanni hamaan cubbamoota ari'ata;
badhaadhummaan immoo badhaasa qajeelotaa ti.

22 Namni gaariin ilmaan ilmaan isaatiif dhaala dabarsa;
qabeenyi nama cubbamaa garuu qajeeltotaaf kuufama.

23 Qonnaan hiyyeessaa midhaan guddaa baasa;
murtiin jal'aan garuu haxaa'ee duraa balleessa.

24 Namni harcummee qusatu ilma isaa jibba;
kan ilma ofii jaallatu immoo ilaallachaa isa adaba.

25 Namni qajeelaan hamma quufutti nyaata;
garaan nama hamaa garuu ni beela'a.

# 14

1 Dubartiin ogeettiin mana ishee ijaarratti;
gowwaan immoo harkuma isheetiin mana ofii diigdi.

2 Namni qajeelummaan jiraatu WAAQAYYOON sodaata;
kan karaan isaa jal'aa ta'e garuu isa tuffata.

3 Afaan nama gowwaa dugda isaatti ulee of tuulummaa fida;
arrabni ogeeyyii garuu isaan eega.

4 Yoo qotiyyoon hin jirre, dallaan duwwaa ta'a;
garuu humna qotiyyoo tokkootiin midhaan baay'een argama.

5 Dhuga baatuun amanamaan hin sobu;
dhuga baatuun sobaa immoo dhara of keessaa gad naqa.

6 Qoostuun namaa ogummaa barbaadee hin argatu;
nama waa hubatuuf garuu beekumsi dadhabbii malee dhufa.

7 Ati nama gowwaa irraa fagaadhu;
arraba isaa irraa beekumsa hin argattuutii.

8 Ogummaan hubattootaa akka isaan karaa isaanii beekan isaan godha;
gowwummaan gowwootaa garuu karaa irraa isaan balleessa.

9 Gowwoonni cubbuutti qoosu;
qajeeltota gidduutti garuu hawwii gaariitu argama.

10 Garaan gadda ofii isaa ni beeka;
namni biraa tokko iyyuu gammachuu isaa irraa hin qooddatu.

11 Manni nama hamaa ni bada;
dunkaanni nama qajeelaa immoo ni daraara.

12 Karaan qajeelaa namatti fakkaatu tokko jira;
dhuma irratti garuu du'atti nama geessa.

13 Kolfa keessatti iyyuu garaan nama dhukkubuu danda'a;
gammachuunis gaddaan dhumuu danda'a.

14 Namni hin amanamne gatii karaa isaa,
namni gaariin immoo gatii hojii isaa argata.

15 Namni homaa hin beekne waan hunda amana;
namni qalbii qabu garuu tarkaanfii isaa ilaallata.

16 Namni ogeessi of eeggata; waan hamaa irraas ni deebi'a;
gowwaan garuu waan hundatti jarjara; of illee hin eeggatu.

17 Namni dafee aaru gowwummaa hojjeta;
namni daba hojjetu garuu ni jibbama.

18 Namni homaa hin beekne gowwummaa dhaala;
qalbeeffataan garuu beekumsa gonfata.

19 Namoonni hamoon fuula namoota gaarii duratti,
jal'oonnis karra qajeeltotaa duratti sagadu.

20 Hiyyeeyyii olloonni isaanii iyyuu ni jibbu;
sooreyyiin immoo michoota hedduu qabu.

21 Namni ollaa isaa tuffatu cubbuu hojjeta;
kan rakkataaf garaa laafu garuu eebbifamaa dha.

22 Namni hammina yaadu karaa irraa hin baduu?
Warri waan gaarii karoorsan garuu jaalalaa fi
amanamummaa argatu.

23 Jabaatanii hojjechuun hundi bu'aa buusa;
oduun faayidaa hin qabne garuu hiyyummaa qofa fida.

24 Gonfoon ogeeyyii qabeenya isaanii ti;
gowwummaan gowwootaa garuu gowwummaa dhala.

25 Dhuga baatuun dhugaa lubbuu baraara;
dhuga baatuun sobaa immoo soba dubbata.

26 Namni WAAQAYYOON sodaatu da’annoo jabaa qaba;
ijoolleen isaas da’oo argatu.

27 WAAQAYYOON sodaachuun burqaa jireenyaa ti;
kiyyoo du’aa irraas nama deebisa.

28 Ulfinni mootii tokkoo baay’ina uummata isaa ti;
yoo uummanni hin jirre garuu ilmi mootiis ni bada.

29 Namni obsa qabu hubannaa guddaa qaba;
kan dafee aaru garuu gowwummaa mul’isa.

30 Garaan nagaa qabu dhagnaaf jireenya kenna;
hinaaffaan garuu lafee tortorsa.

31 Namni hiyyeessa cunqursu kan isa Uume tuffata;
namni hiyyeessaaf garaa laafu immoo Waaqa kabaja.

32 Hamoonni jal’inuma isaaniitiin badu;
qajeeltonni garuu du’a keessatti illee
amanamummaa isaaniitiin da’annoo argatu.

33 Ogummaan qalbii nama waa hubatuu keessa jirti;
garaa gowwootaa keessatti garuu hin beekamtu.

34 Qajeelummaan saba ol guddisa;
cubbuun garuu saba kamiif iyyuu salphina.

35 Mootiin tajaajilaa ogeessatti ni gammada;
kan isa qaanessutti garuu ni dheekkama.

## 15

1 Deebiin laafaan dheekkamsa qabbaneessa;
jechi hamaan garuu aarii kakaasa.
2 Arrabni nama ogeessaa beekumsa jaja;
afaan nama gowwaa garuu gowwummaa dhangalaasa.

3 Iji WAAQAYYOO idduma hunda jira;
nama hamaa fi gaariis ni to’ata.

4 Arrabni fayyina fidu muka jireenyaa ti;
arrabni sobu garuu hafuura cabsa.

5 Gowwaan adabbii abbaa isaa tuffata;
namni sirreeffama fudhatu kam iyyuu garuu qalbii qabeessa.

6 Manni nama qajeelaa badhaadhummaa guddaa qaba;
galiin nama hamaa garuu rakkoo isatti fida.

7 Arrabni nama ogeessaa beekumsa facaasa;

garaan nama gowwaa garuu akkas miti.

8 WAAQAYYO aarsaa hamootaa ni balfa;
kadhannaan tolootaa garuu isa gammachiisa.

9 WAAQAYYO karaa hamootaa ni balfa;
warra qajeelummaa duukaa bu'an garuu ni jaallata.

10 Nama daandii irraa jal'atu adabbii hamaatu isa eeggata;
kan sirreeffama jibbu ni du'a.

11 Du'aa fi Badiisni fuula WAAQAYYOO duratti beekamoo dha;
yoos garaan namaa hammam caalaa haa beekamu ree!

12 Namni qoosu sirreeffama hin jaallatu;
nama ogeessaanis hin mari'atu.

13 Garaan gammadu akka fuulli ifu godha;
gaddi garaa garuu hafuura cabsa.

14 Garaan waa qalbeeffatu beekumsa barbaada;
afaan gowwaa garuu gowwummaa nyaata.

15 Barri nama hacuucamee guutumaan guutuutti gadadoo dha;
garaa gammaduuf garuu guyyaan hundinuu cidha.

16 Qabeenya guddaa rakkina of keessaa qabuu mannaa,
WAAQAYYOON sodaachaa waan xinnaa qabaachuu wayya.

17 Jibbaan cooma sangaa nyaachuu mannaa,
jaalalaan raafuu nyaachuu wayya.

18 Namni dafee aaru lola kakaasa;
namni obsa qabu garuu lola qabbaneessa.

19 Karaan nama dhibaa'aa qoraattiidhaan cufama;
daandiin tolootaa garuu karaa diriiraa dha.

20 Ilmi ogeessi abbaa isaa gammachiisa;
namni gowwaan garuu haadha isaa tuffata.

21 Nama qalbii hin qabne gowwummaatu isa gammachiisa;
namni hubataan garuu daandii qajeelaa irra deema.

22 Karoorri gorsa hin qabne fiixaan hin ba'u;
garuu gorsitoota hedduudhaan ni milkaa'a.

23 Namni tokko deebii malu kennuudhaan gammachuu argata;
dubbiin yeroo isaatti dubbatamu akkam gaarii dha!

24 Daandiin nama hubataa akka inni sii'oolitti gad hin buuneef

gara jireenyaatti ol isa baasa.

25 WAAQAYYO mana nama of tuuluu ni diiga;
daangaa haadha hiyyeessaa garuu ni dhaaba.

26 WAAQAYYO yaada nama hamaa ni balfa;
yaadni nama qulqulluu garuu isa gammachiisa.

27 Namni doqni maatii isaatti rakkina fida;
kan matta'aa jibbu garuu ni jiraata.

28 Garaan nama qajeelaa haala ittiin deebii kennu yaada;
afaan nama hamaa garuu hammina dhangalaasa.

29 WAAQAYYO nama hamaa irraa fagoo jira;
kadhannaa nama qajeelaa garuu ni dhaga'a.

30 Fuulli ifaan garaa gammachiisa;
oduun gaariinis lafee haaromsa.

31 Namni adabbii jireenya kennu dhaggeeffatu,
ogeeyyii gidduu jiraata.

32 Namni adabbii tuffatu ofuma tuffata;
kan sirreeffama fudhatu garuu hubannaa argata.

33 WAAQAYYOON sodaachuun ogummaa nama barsiisa;
gad of qabuunis ulfina dura dhufa.

## 16

1 Karoorri garaa kan namaa ti;
deebiin arrabaa garuu WAAQAYYO biraa dhufa.
2 Nama tokko karaan isaa hundi qulqulluu itti fakkaata;
yaada namaa garuu WAAQAYYOTU madaala.

3 Waan hojjettu hunda WAAQAYYOTTI kennadhu;
karoorri kees siif milkaa'a.

4 WAAQAYYO waan hunda kaayyoo ofii isaatiif hojjeta;
hamoota iyyuu guyyaa badiisaatiif qopheessa.

5 Namni of tuulu kam iyyuu fuula WAAQAYYOO duratti balfamaa dha;
dhugumaan inni utuu hin adabamin hin hafu.

6 Namni jaalalaa fi amanamummaadhaan araara cubbuu argata;
WAAQAYYOON sodaachuudhaanis hammina irraa cita.

7 Yoo karaan namaa WAAQAYYOON gammachiise,
inni akka diinonni isaas nagaan isa wajjin jiraatan ni godha.

8 Galii guddaa jal’inaan argatan mannaa
waan xinnoo qajeelummaan argatan wayya.

9 Namni garaa isaa keessatti karaa isaa karoorfata;
Waaqayyo garuu tarkaanfii isaa illee ni murteessa.

10 Hidhiin mootii hooda dubbata;
afaan isaa illee murtii hin jal’isu.

11 Madaallii fi safartuun qajeelaan kan Waaqayyoo ti;
ulfinni korojoo keessa jiru hundinuu hojii isaa ti.

12 Sababii teessoon qajeelummaadhaan jabaatee dhaabatuuf
mootonni waan hamaa hojjechuu ni balfu.

13 Mootonni afaan dhugaa dubbatutti ni gammadu;
isaan nama dhugaa dubbatu ni jaallatu.

14 Dheekkamsi mootii ergamaa du’aa ti;
namni ogeessi garuu ni qabbaneessa.

15 Jireenyi ifa fuula mootii keessa jira;
surraan isaa akkuma duumessa bokkaa arfaasaa ti.

16 Ogummaa argachuun warqee caala;
hubannaa argachuunis meetii caala!

17 Daandiin nama tolaa hammina irraa fagoo dha;
namni karaa isaa eegus jireenya isaa eeggata.

18 Of tuuluun badiisaan dura,
of bokoksuunis kufaatiin dura deema.

19 Warra of tuulu wajjin boojuu qooddachuu mannaa,
hafuuraan gad of qabanii warra cunqurfame wajjin jiraachuu wayya.

20 Namni gorsa fudhatu kam iyyuu ni milkaa’a;
kan Waaqayyoon amanatus eebbifamaa dha.

21 Namni garaadhaan ogeessa ta’e qalbeeffataa jedhama;
dubbiin mi’aawu immoo gorsa dabala.

22 Hubannaan nama isa qabuuf madda jireenyaa ti;
gowwummaan garuu gowwootatti adabbii fida.

23 Garaan nama ogeessaa arraba isaa qajeelcha;
afaan isaas gorsa dabala.

24 Dubbiin nama gammachiisu dhaaba dammaa ti;
inni lubbuutti ni mi’aawa; lafees ni fayyisa.

25 Karaan qajeelaa namatti fakkaatu tokko jira;
dhuma irratti garuu du’atti nama geessa.

26 Fedhiin hojjetaan tokko nyaataaf qabu
hojiif isa kakaasa; beela’uun isaas ittuma cima.

27 Namni faayidaa hin qabne hammina malata;
haasaan isaas akkuma ibidda waa gubuu ti.

28 Namni jal’aan lola kakaasa; hamattuun immoo
michoota walitti dhi’aatan gargar baafti.

29 Namni jeequmsaan deemu ollaa isaa gowwoomsee
karaa jal’aatti isa geessa.

30 Namni ija qisu jal’ina karoorfata;
kan hidhii ciniinnatu immoo hammina fida.

31 Arriin gonfoo ulfinaa ti;
innis karaa qajeelaadhaan argama.

32 Goota waraanaa irra nama obsa qabu,
nama magaalaa tokko booji’ee fudhatu irra kan of qabu wayya.

33 Ixaan gudeeda irratti buufama;
murtoon isaa garuu guutumaan guutuutti WAAQAYYO biraa dhufa.

# 17

1 Mana nyaataa dhugaatiin guutame kan lola qabuu mannaa,
iddoo nagaan jirutti hurraa’aa buddeena goggogaa wayya.
2 Garbichi hubataan ilma salphaa bulcha;
obboloota gidduuttis dhaala qooddata.

3 Okkoteen waa itti baqsan meetiif, boolli ibiddaa immoo warqeef;
WAAQAYYO garuu garaa namaa qora.

4 Namni hamaan dubbii gowwoomsaa dhaggeeffata;
sobaanis arraba bala’amaadhaaf gurra kenna.

5 Namni hiyyeeyyiitti qoosu kan isaan Uume sana tuffata;
kan badiisa namaatti gammadu utuu hin adabamin hin hafu.

6 Nama jaare tokkoof ilmaan ilmaan isaa gonfoo dha;
haadhaa fi abbaanis ijoollee isaaniitiif ulfina.

7 Dubbiin ba’eessi nama gowwaatti hin tolu;
hidhiin sobu immoo hammam bulchaa tokkotti haa hammaatu ree!

8 Matta’aan namicha kennuuf mi’a falfalaa ti;
inni lafa dhaqu kamitti iyyuu ni milkaa’a.

9 Namni balleessaa namaaf dhiisu jaalala guddisa;
namni waan tokko irra deddeebi’u,
garuu michoota walitti dhi’aatan gargar baasa.

10 Hamma gowwaan yeroo dhibba garafamee itti dhaga’amu caalaa
ifannaan nama waa hubatutti dhaga’ama.

11 Namni hamaan fincila qofa barbaada;
ergamaan namaa hin naane isatti ni ergama.

12 Gowwaa gowwummaa isa keessa jiruun
walitti dhufuu mannaa amaaketa dhaltuu ilmaan ishee
jalaa fudhatamaniin walitti dhufuu wayya.

13 Nama qooda gaarii hamaa deebisu,
hamminni mana isaa keessaa hin ba’u.

14 Lola jalqabuun akkuma bishaan cabsanii yaasuu ti;
kanaafuu utuu lolli hin ho’in dubbii dhiisi.

15 Waaqayyo waan kana lachuu ni balfa;
kunis nama yakka qabu qulqulluu gochuu fi
nama balleessaa hin qabnetti muruu dha.

16 Sababii inni ogummaa argachuuf fedhii hin qabneef,
maallaqni harka gowwaa jiru faayidaa maalii qaba?

17 Michuun yeroo hunda nama jaallata;
obboleessi immoo guyyaa rakkootiif dhalata.

18 Namni qalbii hin qabne harka dha’ee waa namaaf kakata;
fuula ollaa ofii isaa durattis wabii ta’a.

19 Namni lola jaallatu cubbuu jaallata;
namni karra ol dheeraa ijaarus badiisa waama.

20 Namni yaada hamaa qabu hin milkaa’u;
kan arrabni isaa nama gowwoomsus rakkoo keessa seena.

21 Ilmi gowwaan abbaa isaatti gadda fida;
abbaan ilma gowwaas hin gammadu.

22 Garaan gammadu qoricha gaarii dha;
hafuurri cabe immoo lafee gogsa.

23 Namni hamaan karaa murtii qajeelaa jal’isuuf jedhee
dhoksaadhaan matta’aa fudhata.

24 Namni hubataan fuula isaa gara ogummaatti deebifata;
iji gowwaa garuu hamma handaara lafaatti joora.

25 Ilmi gowwaan abbaa isaatti gadda fida;

haadha isa deessettis jireenya hadheessa.

26 Nama balleessaa hin qabne tokko adabuun gaarii miti;
qondaaltota amanamoo rukutuunis sirrii miti.

27 Namni beekaan of qusachaa dubbata;
namni hubataanis hafuura qabanaa'aa qaba.

28 Gowwaan iyyuu yommuu cal'isu ogeessa fakkaata;
yommuu arraba isaa to'atus hubataa fakkaata.

# 18

1 Namni addaan of baasu ofittummaa duukaa bu'a;
murtii dhugaa hundaanis ni morma.

2 Namni gowwaan hubannaa argachuutti hin gammadu;
garuu yaaduma isaa ibsuutti gammada.

3 Yeroo hamminni dhufu tuffiin dhufa;
salphinnis qaanii wajjin dhufa.

4 Dubbiin afaan namaa bishaan gad fagoo dha;
burqaan ogummaa garuu bishaan yaa'uu dha.

5 Gara nama hamaa goruun
yookaan nama balleessaa hin qabne
murtii qajeelaa dhowwachuun gaarii miti.

6 Hidhiin gowwaa lola fida;
afaan isaas rukutamuu itti waama.

7 Afaan gowwaa badiisa isaa ti;
hidhiin isaas kiyyoo lubbuu isaa ti.

8 Dubbiin hamattuu akkuma gurshaa mi'aawuu ti;
gara kutaa garaattis gad bu'a.

9 Namni hojii isaa irratti dhibaa'u,
obboleessa nama waa balleessuu ti.

10 Maqaan WAAQAYYOO gamoo jabaa dha;
namni qajeelaan itti baqatee badiisa oola.

11 Qabeenyi sooreyyii isaaniif magaalaa da'oo qabduu dha;
isaanis akka dallaa ol dheeraatti hedu.

12 Kufaatiidhaan dura garaan namaa of tuula;
gad of qabuun garuu ulfinaan dura dhufa.

13 Utuu hin dhaggeeffatin deebii kennuun,
gowwummaa fi qaanii dha.

14 Hafuurri namaa dhukkuba ni obsa;
hafuura cabe garuu eenyutu obsuu danda'a?

15 Garaan nama hubataa beekumsa argata;
gurri ogeessaas waan kana barbaada.

16 Kennaan abbicha kennuuf karaa bana;
fuula namoota gurguddaa durattis isa dhi'eessa.

17 Hamma namni biraa dhufee isaan mormutti,
namni jalqabatti himata isaa dhi'eeffatu tokko
dhugaa qabeessa fakkaata.

18 Ixaa buusuun wal falmii qabbaneessa;
namoota wal lolan jajjaboos addaan galcha.

19 Obboleessa yakkame tokko deebisuun
magaalaa da'oo qabdu irra ulfaata;
wal falmiinis akkuma danqaraa karra dallaa dhagaa ti.

20 Ija afaan isaatiin garaan namaa quufa;
dubbii arraba isaatiinis ni guuta.

21 Arrabni humna jireenyaatii fi du'aa qaba;
warri isa jaallatanis ija isaa nyaatu.

22 Namni niitii argatu waan gaarii argata;
fuula WAAQAYYOO durattis surraa argata.

23 Hiyyeessi arraba laafaadhaan dubbata;
sooressi garuu sagalee jabaadhaan deebii kenna.

24 Namni michoota baay'isu ni bada;
garuu michuun obboleessa caalaa namatti aanu ni jira.

## 19

1 Gowwaa daba dubbatuu mannaa
hiyyeessa amanamummaadhaan jiraatu wayya.
2 Namni beekumsa hin qabne gaarii miti;
miilli jarjarus karaa irraa jal'ata.

3 Gowwummaan namaa karaa isaa jal'isa;
garaan isaa immoo WAAQAYYOTTI aara.

4 Badhaadhummaan michoota hedduu nama argachiisa;
hiyyeessi garuu michoota isaa irraa gargar ba'a.

5 Namni sobaan dhugaa ba'u utuu hin adabamin hin hafu;
namni soba odeessuus jalaa hin ba'u.

6 Namni hedduun bulchaa biratti surraa argachuu barbaada;
namni hundis michuu nama waa namaa kennuu ti.

7 Obboloonni hiyyeessaa hundinuu isa jibbu;
yoos michoonni isaa hammam caalaa isa irraa haa fagaatan ree!
Inni kadhachaa isaan duukaa bu'u iyyuu
isaan eessattuu hin argaman.

8 Namni qalbii qabu ofii isaa jaallata;
namni hubannaa jaallatu ni milkaa'a.

9 Namni sobaan dhugaa ba'u utuu hin adabamin hin hafu;
namni soba odeessus ni bada.

10 Jireenya qananii jiraachuun gowwaaf hin malu;
yoos ilmaan mootii bulchuun garbichaaf
hammam caalaa haa hammaatu ree?

11 Ogummaan nama tokkoo obsa kennaaf;
balleessaa namaa irra darbuunis isaaf ulfina.

12 Dheekkamsi mootii akkuma aaduu leencaa ti,
surraan isaa immoo akkuma fixeensa marga irratti.

13 Ilmi gowwaan abbaa isaatiif badiisa;
niitiin nyakkiftunis
akka mana yeroo hundumaa dhimmisuu ti.

14 Manaa fi qabeenyi warra ofii irraa dhaalamu;
niitii qalbii qabdu garuu Waaqayyotu namaaf kenna.

15 Dhibaa'ummaan hirriba guddaa namatti buusa;
namni hojii malee taa'us ni beela'a.

16 Namni ajaja eegu lubbuu isaa eeggata;
kan karaa isaa tuffatu immoo ni du'a.

17 Namni hiyyeessaaf garaa laafu Waaqayyoof liqeessa;
Waaqnis waan inni hojjete sanaaf isa badhaasa.

18 Yeroo abdiin jirutti ilma kee adabadhu;
akka inni du'uufis cal'istee hin ilaalin.

19 Namni dafee aaru adabamuu qaba;
ati yoo isa oolchite, amma illee akkasuma gochuu qabda.

20 Gorsa namaa dhaggeeffadhu; sirreeffamas fudhadhu;
dhuma irratti ati nama ogeessa taata.

21 Garaa namaa keessa karoora baay'eetu jira;
garuu wanni fiixaan ba'u kaayyoo Waaqayyoo ti.

22 Wanni namni hawwu jaalala dhuma hin qabnee dha;
sobduu ta'uu mannaa hiyyeessa ta'uu wayya.

23 WAAQAYYOON sodaachuun jireenyatti nama geessa;
yoos namni boqonnaadhaan jiraata;
rakkinnis isa hin argatu.

24 Dhibaa'aan harka isaa waciitii keessa kaa'a;
gara afaan isaattis hin deebifatu!

25 Qoostuu garafi; wallaalaan hubannaa argataa;
nama qalbii qabu ifadhu; inni beekumsa argataatii.

26 Namni abbaa isaa saamu, haadha isaas kan manaa ari'u,
ilma qaanii fi salphina fiduu dha.

27 Yaa ilma ko, mee qajeelfama dhaggeeffachuu dhiisi;
ati dubbii beekumsaa irraa ni baddaa.

28 Dhuga ba'aan faayidaa hin qabne murtii qajeelaa tuffata;
afaan hamootaa immoo hammina liqimsa.

29 Qoostotaaf adabbii,
dugda gowwootaatiif immoo rukuttaatu qopheeffama.

# 20

1 Daadhiin wayinii nama qoostuu,
dhugaatiin cimaan immoo waccuu nama godha;
namni isaaniin fudhatamus ogeessa miti.

2 Dheekkamsi mootii akkuma aaduu leencaa ti;
namni isa aarsus lubbuu ofii isaa dhaba.

3 Lola irraa fagaachuun ulfina;
gowwaan hundi garuu lolatti ariifata.

4 Dhibaa'aan yeroodhaan hin qotatu;
kanaafuu inni yeroo haamaatti ni ilaala malee
homaa hin argatu.

5 Yaadni qalbii namaa akkuma bishaan gad fagoo ti;
hubataan namaa garuu ni waraabbata.

6 Namni hedduun akka jaalala hin dhumne qabu dubbata;
nama amanamaa garuu eenyutu argachuu danda'a?

7 Namni qajeelaan amanamummaadhaan jiraata;
ijoolleen isaa warri booddee dhalatanis ni eebbifamu.

8 Mootiin tokko yeroo murtii kennuuf teessoo isaa irra taa'utti,

waan hamaa hunda ijuma isaatiin gingilchee addaan baasa.

9 Eenyutu, “Ani garaa koo qulqulleeffadheera;
ani qulqulluu dha; cubbuus hin qabu” jechuu danda’a?

10 Madaalii jal’aa fi safartuu jal’aa
lamaanuu WAAQAYYO ni balfa.

11 Mucaan xinnaan iyyuu amalli isaa qulqulluu fi
qajeelaa ta’uun isaa hojii isaatiin beekama.

12 Gurra dhaga’uu fi ija argu,
lachanuu WAAQAYYOTU uume.

13 Akka hin hiyyoomneef, hirriba hin jaallatin;
midhaan akka quuftuuf, dammaqii jiraadhu.

14 Namni waa bitatu, “Wanni kun gaarii miti;
wanni kun gaarii miti!” jedha;
ergasii immoo dhaqee waa’ee waan bitate sanaa boona.

15 Warqeen ni jira; lulli diimaanis baay’inaan jira;
arrabni beekumsa dubbatu garuu faaya gatii guddaa ti.

16 Nama nama ormaatiif wabii ta’e irraa uffata isaa fudhadhu;
yoo inni dubartii ormaatiif wabii ta’es uffata sana qabdii qabadhu.

17 Nyaanni gowwoomsaadhaan argame namatti mi’aawa;
dhuma irratti garuu afaan nama sanaa cirrachatu guuta.

18 Gorsaan karoora baafadhu;
qajeelfama ogummaatiin waraana bani.

19 Hamattuun icciitii baafti;
kanaafuu odeessituu wajjin tokkummaa hin qabaatin.

20 Namni tokko yoo abbaa isaa yookaan haadha isaa abaare,
ibsaan isaa dukkana hamaa keessatti dhaama.

21 Dhaalli jalqabumatti dafee argame
dhumni isaa eebba hin qabaatu.

22 Ati, “Yakka ati hojjette kanaaf
ani gatii kee siifin kenna!” hin jedhin;
WAAQAYYOON eeggadhu; inni si baasa.

23 WAAQAYYO madaalii jal’aa ni balfa;
safartuu sobaattis hin gammadu.

24 Adeemsi namaa WAAQAYYOON qajeelfama.
Yoos namni kam iyyuu akkamiin karaa ofii isaa hubachuu danda’a ree?

25 Namni utuu itti hin yaadin,
“Wanni kun Waaqaaf qulqulleeffameera” jedhee
ergasii immoo waan wareege sana gaabbe kiyyoo isatti ta’a.

26 Mootiin ogeessi hamoota gingilchee addaan baasa;
geengoo ittiin midhaan dha’an illee isaan irra oofa.

27 Ibsaan WAAQAYYOO hafuura namaa sakatta’a;
inni keessa namaa illee isumaan qora.

28 Jaalallii fi amanamummaan mootii tokko nagaan jiraachisu;
teessoon mootummaa isaas jaalalaan eegama.

29 Ulfinni dargaggootaa jabina isaanii ti;
arriin mataa kabaja nama umuriin dheeratee ti.

30 Abootteen nama madeessu hammina nama irraa qulqulleessa;
garaffiin immoo keessa namaa geeddara.

# 21

1 Yaadni mootii akkuma yaa’aa bishaanii harka WAAQAYYOO keessa jira;
innis garuma fedhetti qajeelcha.
2 Karaan namaa hundinuu ija ofii isaa duratti qajeelaa itti fakkaata;
WAAQAYYO garuu yaada namaa madaala.

3 Fuula WAAQAYYOO duratti aarsaa caalaa,
waan qajeelaa fi sirrii ta’e hojjechuutu fudhatama qaba.

4 Iji of jajuu fi garaan of tuuluu maasii hamootaa
kan hin qotaminii dha;
innis cubbuu dhala.

5 Karoorri nama tattaaffatuu bu’aa argamsiisa;
namni ariifatu garuu ni hiyyooma.

6 Qabeenyi arraba sobuun argamu,
urrii bittinnaa’ee baduu fi kiyyoo du’aa ti.

7 Sababii isaan waan qajeelaa hojjechuu didaniif,
fincilli hamootaa isaanuma balleessa.

8 Karaan nama balleessaa qabuu jal’aa dha;
amalli nama qulqulluu garuu qajeelaa dha.

9 Niitii nyakkiftuu wajjin mana tokko keessa jiraachuu mannaa,
golee bantii manaa irra jiraachuu wayya.

10 Namni hamaan jal’ina dharra’a;
ollaan isaa gara laafina tokko iyyuu isa irraa hin argatu.

11 Yeroo namni qoosu tokko adabamutti,
wallaalaan ogummaa argata;
namni ogeessi yeroo gorfamutti beekumsa argata.

12 Namni qajeelaan mana hamootaa qalbeeffatee ilaala;
hamootas ni balleessa.

13 Namni tokko yoo iyya hiyyeessaatiif gurra kennuu dide,
innis ni iyya; deebiis hin argatu.

14 Wanni dhoksaadhaan namaaf kennan aarii qabbaneessa;
matta'aan harka bobaa jalaatiin kennanis
dheekkamsa guddaa gab godha.

15 Murtii qajeelaa kennuun qajeeltotaaf gammachuu kenna;
hamootatti immoo raafama fida.

16 Namni karaa hubannaa irraa badu kam iyyuu
waldaa warra du'aniitti dabalama.

17 Namni qananii jaallatu ni deega;
kan daadhii wayiniitii fi zayitii jaallatu immoo hin sooromu.

18 Namni hamaan nama qajeelaadhaaf,
kan hin amanamne immoo nama tolaadhaaf furii ta'a.

19 Niitii nyakkiftuu fi kan daftee aartu wajjin jiraachuu mannaa,
gammoojjii keessa jiraachuu wayya.

20 Mana nama ogeessaa keessa qabeenya gatii guddaatii fi zayitiitu jira;
gowwaan garuu waan qabu hunda nyaatee fixa.

21 Namni qajeelummaa fi jaalala duukaa bu'u,
jireenya, badhaadhummaa fi ulfina argata.

22 Namni ogeessi magaalaa nama jabaatti ba'ee
da'oo jabaa inni amanatu jalaa diiga.

23 Namni afaan isaatii fi arraba isaa eeggatu,
balaa irraa of eega.

24 Nama of jajuu fi of tuulu maqaan isaa, "Qoostuu dha;"
inni akka malee koora.

25 Sababii harki isaa hojii hojjechuu hin jaallanneef,
hawwiin nama dhibaa'aa du'a isatti fida.
26 Inni guyyaa guutuu kajeela;
namni qajeelaan garuu utuu hin qusatin kenna.

27 Aarsaan nama hamaa balfamaa dha;
yoos yoo inni yaada hamaadhaan dhi'eesse
hammam sana caalaa haa balfamu ree!

28 Dhuga baatuun sobaa ni bada;
namni isa dhaga'u kam iyyuus bara baraan bada.

29 Namni hamaan ija jabaata;
namni tolaan garuu karaa isaa qajeelfata.

30 Ogummaan, hubannaanii fi karoorri
WAAQAYYOON mormee milkaa'uu hin jiru.

31 Fardi guyyaa waraanaatiif qopheeffama;
mo'ichi garuu kan WAAQAYYOO ti.

## 22

1 Maqaan gaariin badhaadhummaa guddaa caalaa filatamaa dha;
kabajamuunis meetii fi warqee caala.

2 Wanni sooressaa fi hiyyeessa wal fakkeessu kanaa dha:
Uumaan hunda isaanii WAAQAYYOO dha.

3 Namni hubataan balaa argee jalaa dhokata;
wallaalaan immoo ittuma deemee adabama.

4 Gad of qabiisnii fi WAAQAYYOON sodaachuun,
qabeenya, ulfinaa fi jireenya namaa kennu.

5 Karaa hamootaa irra qoraattii fi kiyyootu jira;
namni lubbuu isaa eeggatu garuu
waan kana irraa fagaatee jiraata.

6 Daa'ima tokko karaa inni irra deemuu qabu barsiisi;
inni gaafa dulloome iyyuu karaa sana irraa hin jal'atu.

7 Sooressi hiyyeessa bulcha;
liqeeffataan garbicha liqeessituu ti.

8 Namni hammina facaasu rakkina haammata;
uleen aarii isaas ni hurraa'aa.

9 Namni arjaan waan nyaata isaa hiyyeeyyiif qooduuf
ofii isaatii ni eebbifama.

10 Qoostuu of biraa ari'i; lolli ni qabbanaa'aa;
wal diddaa fi arrabsoonis hin jiraatu.

11 Nama qulqullina garaa jaallatuu fi
dubbiin isaa namatti tolu mootiin michuu isaaf ta'a.

12 Iji WAAQAYYOO xiyyeeffatee beekumsa ilaala;
inni garuu dubbii nama hin amanamnee ni busheessa.

13 Dhibaa'aan, "Leenci ala jira!

Ani karaa gubbaatti nan ajjeefama!” jedha.

14 Afaan ejjituu boolla gad fagoo dha;
namni dheekkamsa WAAQAYYOO jala jiru achi keessa bu’a.

15 Gowwummaan yaada daa’imaa keessatti hidhameera;
uleen ittiin adaban garuu irraa fageessa.

16 Namni qabeenya isaa guddifachuuf jedhee
hiyyeessa hacuucuu fi kan sooressaaf kennaa kennu ni deega.

## Jechoota Soddomman Nama Ogeessaa

*Jecha tokkoffaa*

17 Qalbeeffadhuutii waan namni ogeessi jedhu dhaggeeffadhu;
yaada kees gara waan ani barsiisuutti deebifadhu;
18 yoo ati qalbiitti qabattee
hunduma isaa hidhii kee irratti qopheeffatte
wanni kun nama gammachiisaatii.
19 Akka abdiin kee WAAQAYYO ta’uuf
ani har’a suma mataa kee iyyuu nan barsiisa.
20 Ani jecha soddoma, jecha gorsaatii fi
beekumsaa siif hin barreessinee?
21 Kanas ani akka ati warra si erganiif
deebii dhugaa kennituuf waan qajeelaa fi
dhugaa si argisiisuufin barreesse mitii?

*Jecha lammaffaa*

22 Ati sababii inni hiyyeessa ta’eef jettee hiyyeessa hin saamin;
rakkataas mana murtiitti hin cunqursin;
23 WAAQAYYO dubbii isaanii ni ilaalaaf;
jireenya warra isaan saamaniis ni saamaatii.

*Jecha sadaffaa*

24 Nama dafee aaru michuu hin godhatin;
nama akka salphaatti dheekkamu wajjinis
tokkummaa hin qabaatin;
25 yoo kana goote karaa isaa baratta;
ofii kees kiyyootti galchita.

*Jecha afraffaa*

26 Nama harka dha’ee waadaa galu
yookaan nama liqii namaatiif wabii ta’u hin ta’in;
27 yoo ati waan baaftu dhabde,
sireen kee iyyuu si jalaa fudhatama.

*Jecha shanaffaa*

28 Dhagaa daarii durii,
kan abbootiin kee dhaaban hin dhiibin.

*Jecha ja’affaa*

29 Nama hojii isaa keessatti ogummaa qabu argitee?
Inni fuula mootota dura dhaabata;
fuula namoota kaanii dura garuu hin dhaabatu.

# 23

*Jecha torbaffaa*

1 Ati yeroo waa nyaachuuf bulchaa tokko wajjin teessutti,
waan fuula kee dura jiru hubadhuu ilaali;
2 ati yoo nyaataaf fedhii guddaa qabaatte,
qoonqoo kee irra billaa kaa'i.
3 Waan nyaanni sun nama gowwoomsuuf,
mi'aa isaatti hin gaggabin.

*Jecha saddeettaffaa*

4 Sooromuuf jettee of hin dadhabsiisin;
of qabuufis ogummaa qabaadhu.
5 Sooromni yommuu ati ija irra buufattutti ni bada;
inni dhugumaan Baallee baafatee
akkuma risaa gara samiitti ol barrisaatii.

*Jecha saglaffaa*

6 Buddeena doqnaa hin nyaatin;
cidha isaas hin kajeelin;
7 inni yeroo hunda waa'ee gatii yaadaatii.
Inni, "Nyaadhuu dhugi" siin jedha;
garaan isaa garuu si wajjin hin jiru.
8 Ati waanuma xinnoo nyaatte sana ni diddigda;
dubbii kee gaarii sana illee ni dhabda.

*Jecha kurnaffaa*

9 Sababii inni ogummaa dubbii keetii tuffatuuf
ati nama gowwaatti hin dubbatin.

*Jecha kudha tokkoffaa*

10 Dhagaa daangaa durii hin dhiibin
yookaan lafa qotiisaa ijoollee abbaa hin qabneetti hin darbin.
11 Furiin isaanii jabaadhaatii;
inni gara isaanii goree sitti falma.

*Jecha kudha lammaffaa*

12 Qalbii kee gara gorsaatti, gurra kee immoo
gara dubbii beekumsaatti deebifadhu.

*Jecha kudha sadaffaa*

13 Ijoollee kee adabachuu hin dhiisin;
yoo ati arcummeedhaan adabde isaan hin du'an.
14 Arcummeedhaan isaan adabiitii
lubbuu isaanii du'a oolchi.

*Jecha kudha afraffaa*

15 Yaa ilma ko, yoo garaan kee ogeessa ta'e,
garaan koo ni gammada;
16 yoo arrabni kee waan qajeelaa dubbate,
keessi koo baay'ee gammada.

*Jecha kudha shanaffaa*

17 Garaan kee cubbamootatti hin hinaafin;
garuu yeroo hunda WAAQAYYOON sodaadhu.

18 Ati dhugumaan gara fuulduraatti abdii qabda;
abdiin kees hin citu.

*Jecha kudha ja'affaa*

19 Yaa ilma ko, dhaggeeffadhu; ogeessa ta'i;
qalbii kee daandii qajeelaa irra buufadhu.
20 Warra daadhii wayinii baay'ee dhuganitti
yookaan warra foonitti gaggabanitti hin makamin;
21 machooftuu fi albaadheyyiin ni hiyyoomu;
hirriba baay'isuunis moofaa nama uffachiisa.

*Jecha kudha torbaffaa*

22 Abbaa kee kan si dhalche dhaga'i;
haadha kees yeroo isheen jaartu hin tuffatin.
23 Dhugaa bitadhu malee hin gurgurin;
ogummaa, qajeelfamaa fi hubannaas bitadhu.
24 Abbaan nama qajeelaa gammachuu guddaa qaba;
namni ilma ogeessa qabu isatti gammada.
25 Abbaan keetii fi haati kee haa gammadan;
isheen si deesse sun haa ililchitu!

*Jecha kudha saddeettaffaa*

26 Yaa ilma ko, garaa kee naa kenni;
iji kees karaa koo haa ilaalu;
27 sagaagaltuun boolla gad fagoodhaatii,
niitiin ganda labeenis boolla bishaanii dhiphaa dha.
28 Isheen akkuma saamtuutti riphxee nama eeggatti;
namoota gidduuttis warra hin amanamne baay'ifti.

*Jecha kudha saglaffaa*

29 Eenyutu, "Anaaf wayyoo!" jedha? Eenyutu gadda qaba?
Eenyutu lola qaba? Eenyutu komii qaba?
Eenyutu sababii malee madaa'a? Kan iji isaa diimatu eenyu?
30 Warra daadhii wayinii dhuguu irra akka malee turan,
warra daadhii wayinii walmakaa afaaniin qabuu dhaqanii dha.
31 Yeroo inni diimatutti, yeroo inni billillee keessa ol xixinniqutti,
yeroo inni suuta jedhee gad bu'utti
daadhii wayinii ija itti qabdee hin ilaalin.
32 Dhuma irratti akkuma bofaa nama idda;
akkuma buutiis nama ciniina.
33 Iji kee waan haaraa arga;
qalbiin kees jal'ina yaada.
34 Ati akkuma nama walakkaa galaana guddaa ciisuu ti;
akkuma nama fiixee utubaa doonii irra ciisuu taata.
35 Ati akkana jetta; "Isaan na dha'an;
ani garuu hin miidhamne!
Isaan na tuman; garuu natti hin dhaga'amne!
Ani dhugaatii biraa barbaaddachuuf yooman dammaqa?"

# 24

*Jecha digdammaffaa*

1 Hamootatti hin hinaafin;
garee isaanii ta'uus hin hawwin;

2 garaan isaanii hammina malataatii;
hidhiin isaaniis rakkina odeessa.

*Jecha digdamii tokkoffaa*

3 Manni ogummaadhaan ijaarama;
hubannaadhaanis jabeeffamee dhaabama;
4 kutaawwan isaas, beekumsaan, qabeenya gatii guddaatii fi
miidhagaadhaan guutamu.

*Jecha digdamii lammaffaa*

5 Ogeessi humna guddaa qaba;
beekaan namaa immoo jabina itti dabalata;
6 waraana banuuf qajeelfama,
mo’annaa argachuudhaaf immoo gorsitoota hedduu si barbaachisa.

*Jecha digdamii sadaffaa*

7 Gowwaa irraa ogummaan akka malee ol fagoo dha;
inni karra duratti afaan isaa hin saaqqatu.

*Jecha digdamii afraffaa*

8 Namni hammina malu,
“Maltee” jedhama.
9 Malli gowwummaa cubbuu dha;
namoonnis qoostuu ni balfu.

*Jecha digdamii shanaffaa*

10 Ati yoo gaafa rakkinaa laafte,
jabinni kee dhugumaanuu xinnaa dha!
11 Warra gara du’aatti geeffamaa jiran du’a jalaa baasi;
warra ajjeefamuuf qopheeffamanis oolchi.
12 Yoo ati, “Nu waan kana homaa hin beekne” jette,
inni yaada namaa madaalu sun hin hubatuu?
Kan lubbuu kee eegu sun waan kana hin beekuu?
Inni nama hundaaf akkuma hojii isaatti gatii hin kennuu?

*Jecha digdamii ja’affaa*

13 Yaa ilma ko, dammi waan gaarii ta’eef nyaadhu;
nadhiin dammaa sitti ni mi’aawa.
14 Akka ogummaan lubbuu keetti mi’aawu illee beeki;
ati yoo isa argatte fuul duratti abdii qabda;
abdiin kees hin citu.

*Jecha digdamii torbaffaa*

15 Akka nama seeraan hin bulleetti mana nama qajeelaa
riphxee hin eeggatin;
mana jireenya isaas hin saamin.
16 Namni qajeelaan yeroo torba kufu iyyuu, deebi’ee ni ka’aatii;
namni hamaan garuu yeroo balaan itti dhufutti ni gufata.

*Jecha digdamii saddeettaffaa*

17 Yeroo diinni kee kufutti hin ililchin;
yeroo inni gufatuttis garaan kee hin gammadin;
18 yoo kanaa achii WAAQAYYO waan kanatti ni gaddaatii;
dheekkamsa isaas isa irraa deebisa.

*Jecha digdamii saglaffaa*

19 Ati sababii jal’ootaatiif aariidhaan hin gubatin;
hamootattis hin hinaafin.
20 Namni jal’aan fuul duratti abdii hin qabuutii;
ibsaan hamootaas ni dhaama.

*Jecha soddommaffaa*

21 Yaa ilma ko, WAAQAYYOO fi mootii sodaadhu;
finciltootattis hin makamin;
22 badiisni akkuma tasaa isaanitti dhufaatii;
balaa isaan lachuu fidan eenyutu beeka?

## Jecha Ogeessaa Kan Itti Fufe

23 Kunneenis jechoota ogeessaa ti:
Murtii kennuu irratti nama wal caalchisuun gaarii miti:
24 Kan nama yakka qabuun, “Ati balleessaa hin qabdu”
jedhu kam iyyuu namni isa abaara; sabnis isa balaaleffata.
25 Warri nama yakka hojjetu ifatan garuu ni gammadu;
eebbi guddaanis ni dhufaaf.

26 Deebiin qajeelaan,
akkuma hidhii dhungachuu ti.

27 Hojii kee kan diidaa raawwadhuutii
lafa qotiisaa kees qopheeffadhu;
ergasii mana kee ijaarradhu.

28 Sababii tokko malee ollaa keetti dhugaa hin ba’in
yookaan hidhii keetiin hin gowwoomsin.
29 Ati, “Waanuma inni na godhe anis isa nan godha;
waan inni hojjeteefis gatii isaa nan deebisa” hin jedhin.

30 Ani lafa qotiisaa nama dhibaa’aa keessa ba’ee,
iddoo dhaabaa wayinii nama qalbii hin qabnee keessas darbe;
31 qoraattiin lafa hunda guuteera;
laftis aramaadhaan fudhatameera;
dallaan dhagaas diigameera.
32 Ani argeen waan sana qalbeeffadhe;
waanan arge sana irraas barumsa nan argadhe:
33 hirriba xinnaa; mugaatii xinnaa;
xinnoo harka walitti marachuu;
34 hiyyummaanis akkuma hattuutti,
deegummaanis akkuma loltuu hidhateetti sitti dhufa.

## Fakkeenya Solomoon Dabalataa

# 25

1 Fakkeenyawwan kunneen fakkeenyawwan Solomoon kanneen namoonni
Hisqiyaas, mooticha Yihuudaa garagalchanii dha:
2 Waa dhoksuun Waaqaaf ulfina isaa ti;
waa sakatta’anii bira ga’uun immoo ulfina moototaa ti.
3 Akkuma samiiwwan ol dheeratanii
laftis gad fagaatu sana, yaadni moototaa qoratamee bira hin ga’amu.

4 Meetii irraa xurii baasi;
ergasii tumtuun qodaa tolchuu danda’a.
5 Nama hamaa fuula mootii duraa balleessi;
ergasii teessoon isaa qajeelummaadhaan ni jabaata.

6 Fuula mootii duratti ol of hin qabin;
iddoo namoota gurguddaas hin dhaabatin;
7 inni fuula namoota bebeekamoo duratti si salphisuu irra,
yoo inni, “As ol kottu” siin jedhe wayyaa.

Ati waan ija keetiin argite,
8 daftee mana murtiitti hin fidin;
yoo ollaan kee si qaanesse,
dhuma irratti ati maal gochuu dandeessa?

9 Dhimma kee ollaa kee wajjin falmadhu;
iccitii nama kaanii immoo hin baasin;
10 yoo kanaa achii namni waan sana dhaga’ee si qaanessa;
maqaan hamaan siif kenname sunis sirraa hin ba’u.

11 Dubbiin yeroo isaatti dubbatame,
akkuma hudhaa warqee kan meetii irratti hojjetamee ti.
12 Ifanni nama ogeessaa gurra dhaggeeffatuuf,
lootii warqee yookaan faaya warqee qulqulluu ti.

13 Ergamaan amanamaan tokko warra isa ergataniif
akkuma qabbana cabbii kan yeroo midhaan haamanii ti;
inni hafuura gooftota isaa haaromsaatii.
14 Namni kennaa namaaf hin kennineen boonu tokko
akkuma duumessaa fi bubbee bokkaa hin qabnee ti.

15 Obsaan bulchaa tokko garaa laafifachuun ni danda’ama;
dubbiin malaan dubbatame lafee ni cabsa.

16 Damma yoo argatte hamma si ga’u nyaadhu;
yoo baay’iftee nyaatte ni diddigda.
17 Mana ollaa keetii dhaquu hin baay’isin;
yoo ati miilla itti baay’ifte inni si jibba.

18 Namni sobaan ollaa isaatti dhugaa ba’u, akkuma bokkuu yookaan
goraadee yookaan xiyya qara qabuu ti.
19 Nama hin amanamne tokko yeroo rakkootti abdachuun
akkuma ilkaan cabee yookaan miilla okkoluu ti.
20 Nama garaan isaa gaddeef sirba sirbuun
akkuma nama guyyaa dhaamochaa wayyaa of irraa baasuu,
yookaan madaa irratti dhangaggaa’aa dhangalaasuu ti.

21 Yoo diinni kee beela’e waan inni nyaatu kenniif;
yoo inni dheebotes bishaan inni dhugu kenniif.
22 Kana gochuu keetiin barbadaa ibiddaa mataa isaa irra tuulta;
WAAQAYYOS si badhaasa.

23 Akkuma bubbeen kaabaa bokkaa fidu,
arrabni hamatus fuula dheekkamu fida.

24 Niitii nyakkiftuu wajjin mana tokko keessa jiraachuu mannaa,
golee bantii manaa irra jiraachuu wayya.

25 Oduun gaariin biyya fagootii dhufu,
akkuma bishaan qabbanaa'aa lubbuu dheebotteef ta'uu ti.
26 Namni qajeelaan fuula hamootaa duratti kufu,
akkuma burqaa dhoqqaa'ee yookaan boolla bishaanii faalame tokkoo ti.

27 Damma baay'ee nyaachuun gaarii miti;
ulfina mataa ofii barbaaduunis ulfina miti.

28 Namni of hin qabne,
akkuma magaalaa dallaan isaa diigamee ti.

# 26

1 Akkuma cabbii yeroo bonaa yookaan bokkaa yeroo haamaa,
nama gowwaaf ulfinni hin malu.
2 Akkuma simbirri barriftu yookaan daaloteen barriftu
abaarsi sababii malee dhufu nama irra hin bu'u.
3 Alangaan fardaaf, luugamni harreef,
uleen immoo dugda gowwaatiif mala!
4 Gowwaadhaaf akka gowwummaa isaatti hin deebisin;
yoo akkas goote ati mataan kee iyyuu akkuma isaa taata.
5 Gowwaadhaaf deebii gowwummaa isaatiif malu kenni;
yoo kanaa achii inni ogeessa of se'aa.
6 Harka nama gowwaatti ergaa ergachuun,
akkuma miilla ofii irraa muruu yookaan summii dhuguu ti.
7 Afaan nama gowwaa keessatti,
fakkeenyi akkuma miilla naafaa ti.
8 Namni gowwaadhaaf ulfina kennu,
akkuma nama furrisaatti dhagaa guduunfuu ti.
9 Fakkeenyi afaan gowwaa keessatti
akkuma qoraattii harka nama machaa'ee keessaa ti.
10 Namni gowwaa yookaan kara deemaa qaxaratu
akkuma adamsaa nama hunda xiyyaan madeessuu ti.
11 Akkuma sareen diddiga isheetti deebitu sana,
gowwaan gowwummaa isaa irra deddeebi'a.
12 Ati nama akka ilaalcha ofii isaatti ogeessa ta'e argitaa?
Isa irra gowwaatu abdii caalu qaba.

13 Dhibaa'aan, "Leenci karaa irra jira;
leenci sodaachisaan daandii irra jira!" jedha.
14 Akkuma saanqaan muchoo isaa irra naanna'u,
dhibaa'aan siree ofii irra gaggaragala
15 Dhibaa'aan harka isaa waciitii keessa kaa'a;
gara afaan isaatti deebifachuuf ni dhibaa'a.
16 Dhibaa'aan namoota hubannaadhaan
deebii kennan torba caalaa ogeessa of se'a.

17 Namni lola nama biraa keessa seenu,
akkuma nama harkaan gurra saree qabuu ti.

18 Akkuma maraatuu ibidda yookaan xiyya
namatti gad dhiisu tokkoo
19 namni, “Ani nan qoose!” jedhee
ollaa isaa gowwoomsus akkasuma.

20 Ibiddi yoo qoraan dhabe ni dhaama;
hamiin yoo hin jiraanne, lolli ni qabbanaa’a.
21 Akkuma cileen barbadaa ibiddaa bobeessee
qoraan ibidda qabsiisu sana
namni lola jaallatu lola kakaasa.
22 Dubbiin hamattuu akkuma gurshaa mi’aawuu ti;
gara kutaa garaattis gad bu’a.

23 Dubbiin gaariin garaa hamaa keessaa ba’u
akkuma okkotee meetiin irra dibamee ti.
24 Namni maqaa namaa balleessu tokko
arrabuma ofiitiin nama tolaa of fakkeessa;
garaa isaa keessatti immoo gowwoomsaa guduunfata.
25 Yoo dubbiin isaa sitti mi’aawe iyyuu isa hin amanin;
wanni jibbisiisaan torba garaa isaa guuteeraatii.
26 Jal’inni isaa sobaan haguugamee dhokfamuu danda’a;
hamminni isaa garuu fuula waldaa duratti ifatti ba’a.
27 Namni boolla qotu boolla keessa bu’a;
nama dhagaa gangalchus,
dhagaan sun isumatti deebi’a.
28 Arrabni sobu tokko warruma miidhu sana jibba;
afaan saadu tokkos badiisa fida.

## 27

1 Ati waa’ee boriitiin hin boonin;
waan guyyaan fidu hin beektuutii.

2 Namni biraa si haa jaju malee ati afaan keetiin of hin jajin;
namni kaan si haa jajuu malee hidhiin kee si hin jajin.

3 Dhagaan ni ulfaata; cirrachis ba’aa dha;
tuttuqaan gowwaa garuu lachuu caalaa ulfaata.

4 Dheekkamsi gara jabeessa; aariinis guutee dhangala’a;
hinaaffaa dura garuu eenyutu dhaabachuu danda’a?

5 Jaalala dhokfamee mannaa
ifannaa ifatti ba’e wayya.

6 Madaan michuun nama madeessu amanamaa dha;
dhungachuun diinaa garuu gowwoomsaa dha.

7 Namni quufe damma illee ni balfa;
kan beela’e garuu wanni hadhaa’u iyyuu itti mi’aawa.

8 Namni mana isaatii badu tokko,
akkuma simbirroo man’ee isheetii badduu ti.

9 Shittoo fi ixaanni garaa nama gammachiisu;
gorsi michuus garaa nama ciibsa.

10 Michoota keetii fi michoota abbaa keetii hin gatin;
yoo balaan sitti dhufe mana obboleessa keetii hin dhaqin;
obboleessa fagoo jiru irra ollaa dhi’oo jiru wayya.

11 Yaa ilma ko, ogeessa ta’iitii garaa koo gammachiisi;
ergasii ani nama na tuffatu hundaaf
deebii kennuu nan danda’a.

12 Namni hubataan balaa argee jalaa dhokata;
wallaalaan immoo ittuma deemee adabama.

13 Nama nama ormaatiif wabii ta’e irraa uffata isaa fudhadhu;
yoo inni dubartii ormaatiif wabii ta’es uffata sana qabdii qabadhu.

14 Namni tokko ganamaan sagalee ol fudhatee
ollaa isaa yoo eebbise
wanni sun akka abaarsaatti fudhatama.

15 Niitiin nyakkiftuun, akkuma bokkaa guyyaa roobaa
dhimmisaa ooluu ti;
16 ishee ittisuun akkuma bubbee ittisuu ti
yookaan akkuma zayitii harkaan qabuu ti.

17 Akkuma sibiilli sibiila qaru,
namni tokko nama kaan qara.

18 Namni muka harbuu eeggatu tokko ija isaa nyaata;
namni gooftaa isaa eeggatus ulfina argata.

19 Akkuma bishaan fuula namaa argisiisu sana
garaan nama tokkoo eenyummaa namichaa argisiisa.

20 Du’aa fi Badiisni gonkumaa hin quufan;
iji namaas akkasuma.

21 Okkoteen waa itti baqsan meetiif;
boolli ibiddaa immoo warqeef;
namni immoo ulfina argatuun qorama.

22 Gowwaa mooyyee keessatti yoo tumte iyyuu,
akkuma midhaaniitti muka mooyyeetiin isa bulleessite iyyuu,
ati gowwummaa isa irraa hin balleessitu.

23 Haala bushaayeen kee keessa jiran sirriitti beeki;
loon keetiifis xiyyeeffannaa kenni;
24 soorumni bara baraan itti hin fufuutii;
gonfoonis dhaloota irraa dhalootatti hin darbu.
25 Yeroo okaan haamamee biqilaa haaraan jalaan biqilee
margi tulluu irraa walitti qabamutti,
26 xobbaallaawwaniin daara baata;
re'oonni immoo gatii lafa qotiisaa siif ta'u.
27 Ati ofii keetii fi maatii kee,
xomboreewwan kees ittiin jiraachisuuf
aannan re'ootaa baay'ee ni qabaatta.

# 28

1 Namni hamaan utuu namni tokko iyyuu isa hin ari'in baqata;
qajeeltonni garuu akkuma leencaa ija jabaatu.

2 Biyya fincilu keessa bulchitoota hedduutu jira;
bulchaan hubataanii fi beekaan garuu seera eegsisa.

3 Bulchaan hiyyeessa hacuucu tokko
akkuma bokkaa jabaa midhaan lafa irraa balleessuu ti.

4 Warri seera didan hamoota jaju;
warri seera eegan garuu isaaniin mormu.

5 Jal'oonni murtii qajeelaa hin hubatan;
warri WAAQAYYOON barbaadan immoo
guutumaan guutuutti hubatu.

6 Sooressa karaan isaa jal'aa ta'e mannaa
hiyyeessa adeemsi isaa mudaa hin qabne wayya.

7 Namni seera eegu ilma ogeessa;
michuun albaadhessaa immoo abbaa isaa qaanessa.

8 Namni dhalaa fi hiiqiidhaan qabeenya isaa guddifatu kam iyyuu,
nama hiyyeessaaf garaa laafuuf walitti qaba.

9 Nama seeraaf gurra kennuu didu kam iyyuu,
kadhannaan isaa balfamaa dha.

10 Namni nama tolaa karaa jal'aa irra adeemsisu kam iyyuu
kiyyoo ofii isaa keessa seena;
namni balleessaa hin qabne garuu dhaala gaarii argata.

11 Namni sooressi ogeessa of se'a;
hiyyeessi hubannaa qabu garuu isa qoree bira ga'a.

12 Yeroo namni qajeelaan mo'atutti gammachuu guddaatu ta'a;

yeroo namni hamaan aangoo qabatutti garuu
namoonni ni dhokatu.

13 Namni cubbuu ofii dhokfatu hin milkaa’u;
kan cubbuu isaa himatee irraa deebi’u garuu araara argata.

14 Namni yeroo hunda WAAQAYYOON sodaatu eebbifamaa dha;
kan mataa jabaatu garuu rakkoo keessatti kufa.

15 Namni hamaan hiyyeeyyii bulchu,
akkuma leenca aaduu yookaan amaaketa wayitti ariifatuu ti.

16 Bulchaan akka malee nama cunqursu hubannaa hin qabu;
kan bu’aa karaa hin malleen argamu jibbu garuu bara dheeraa jiraata.

17 Namni yakki dhiiga namaa dhangalaasuu isa irra jiru,
boollatti baqata;
namni tokko iyyuu isa hin gargaarin.

18 Namni adeemsi isaa mudaa hin qabne nagumaan jiraata;
kan karaan isaa jal’aa ta’e garuu boollatti kufa.

19 Namni lafa isaa qotatu nyaata guddaa argata;
kan yaada faayidaa hin qabne duukaa bu’u garuu
hiyyumaan guutama.

20 Namni amanamaan eebba quufa;
kan sooromuutti gaggabu garuu adabbii jalaa hin ba’u.

21 Nama wal caalchisuun gaarii miti;
namni garuu muraa buddeenaa argachuuf jedhee yakka hojjeta.

22 Namni waa kajeelu sooromuuf jarjara;
inni akka hiyyummaan isa eeggatu hin beeku.

23 Namni nama ifatu dhuma irratti
nama arrabaan nama saadu caalaa surraa argata.

24 Namni abbaa yookaan haadha isaa saamee,
“Kun balleessaa miti” jedhu
garee nama waa balleessuu ti.

25 Namni wayitti gaggabu lola kakaasa;
kan WAAQAYYOON amanatu garuu ni badhaadha.

26 Namni of amanatu gowwaa dha;
kan ogummaadhaan deemu immoo nagaadhaan jiraata.

27 Namni hiyyeessaaf kennu waan tokko illee hin dhabu;
kan ija dunuunfatu garuu abaarsa baay’ee argata.

28 Yeroo namni hamaan aangoo qabatutti
namoonni ni dhokatu;
yeroo namni hamaan badutti garuu qajeeltonni ni baay'atu.

## 29

1 Namni ifannaa baay'ee booddee
mataa jabaatu kam iyyuu akkuma tasaa caba; hin fayyus.

2 Yommuu namni qajeelaan aangoo qabatutti, sabni ni ililcha;
yommuu namni hamaan bulchu garuu sabni ni guunguma.

3 Namni ogummaa jaallatu abbaa isaa gammachiisa;
miiltoon sagaagaltuu garuu qabeenya isaa barbadeessa.

4 Mootiin murtii qajeelaadhaan biyyaaf nagaa buusa;
kan matta'aaf gaggabu immoo biyya gargar qoqqooda.

5 Namni ollaa isaa jaju,
miilluma isaatiif kiyyoo kaa'a.

6 Namni hamaan cubbuu ofii isaatiin qabama;
qajeelaan garuu ni faarfata; ni ililchas.

7 Namni qajeelaan mirga hiyyeessaatiif dhaabata;
namni hamaan garuu dhimma akkanaa hin qabu.

8 Qoostonni magaalaa jeequ;
ogeeyyiin garuu aarii qabbaneessu.

9 Yoo ogeessi gowwaa wajjin mana murtii dhaqe,
gowwaan sun ni aara yookaan ni kolfa; nagaanis hin jiraatu.

10 Namoonni dhiiga dheebotan, nama amanamaa jibbu;
nama tolaas ajjeesuu barbaadu.

11 Gowwaan guutumaan guutuutti aariitti of kenna;
ogeessi garuu of qaba.

12 Yoo bulchaan tokko soba dhaggeeffate,
qondaaltonni isaa hundi ni hammaatu.

13 Hiyyeessaa fi namni nama cunqursu waan kanaan wal fakkaatu:
WAAQAYYO ija lachan isaaniitiifuu agartuu kenna.

14 Yoo mootiin tokko wal qixxummaadhaan
hiyyeeyyiif murtii kenne,
teessoon isaa bara baraan jabaatee dhaabata.

15 Ulee fi ifannaan ogummaa kennu; daa'imni akkasumatti
gad dhiifame garuu haadha isaa salphisa.

16 Yommuu hamoonni aangoo qabatan, cubbuutu baay’ata;
qajeeltonni garuu kufaatii jaraa argu.

17 Ilma kee adabadhu, inni nagaa siif kenna;
lubbuu kees ni gammachiisa.

18 Iddoo mul’anni hin jirretti sabni gad dhiisii ta’a;
namni seera eegu garuu eebbifamaa dha.

19 Garbichi dubbii afaanii qofaan hin sirreeffamu;
inni yoo hubate illee deebii hin kennuutii.

20 Ati nama jarjarsuun dubbatu argitee?
Isa irra gowwaatu abdii caalu qaba.

21 Nama garbicha ofii isaa
ijoollummaa isaatii jalqabee qanansiisu,
galgalli isaa rakkina.

22 Namni aaru lola kakaasa;
kan dafee aarus cubbuu hedduu hojjeta.

23 Of tuulummaan namaa isuma gad deebisa;
namni hafuuraan gad of qabu garuu ulfina argata.

24 Namni hattuu wajjin qooddatu lubbuu ofii isaa jibba;
inni ni kakata; garuu waan tokko illee hin himu.

25 Nama sodaachuun kiyyoo namatti ta’a;
kan Waaqayyoon amanatu garuu nagaadhaan jiraata.

26 Namni hedduun bulchaa biratti surraa argachuu barbaada;
murtiin qajeelaan garuu Waaqayyo biraa dhufa.

27 Qajeelaan sobduu xireeffata;
hamaan immoo nama tolaa jibba.

## Jecha Aguur

# 30

1 Jecha Aguur ilma Yaaqee.
Dubbiin nama kanaa akkana jedhee Iitii’eeliitti dubbatame:

“Innis Iitii’eeliittii fi Ukaalitti dubbate:
2 Ani dhugumaan doofaa nama hundaa gadii ti;
ani hubannaa namni qabu hin qabu.
3 Ani ogummaa hin baranne yookaan beekumsa
Isa Qulqulluu sanaa hin qabu.
4 Eenyutu samiitti ol ba’ee deebi’ee dhufe?
Kan harki isaa bubbee walitti qabe eenyu?
Namni bishaan uffataan mare eenyu?
Kan daarii lafaa hunda jabeessee dhaabe eenyu?

Maqaan isaatii fi maqaan ilma isaa eenyu?
Mee yoo beekte natti himi!

5 “Dubbiin Waaqaa hundinuu hir’ina hin qabu;
warra isatti kooluu galaniif, inni gaachana.
6 Dubbii isaatti homaa hin dabalin;
yoo kanaa achii inni si ifata; atis sobduu taatee argamta.

7 “Yaa WAAQAYYO ani wantoota lama sin kadhadha;
isaanis utuu hamman jirutti ana hin dhowwatin.
8 Gowwoomsaa fi soba narraa fageessi;
hiyyummaa yookaan sooruma naaf hin kennin;
garuu buddeena koo guyyaa guyyaan naaf kenni.
9 Yoo kanaa achii ani akka malee quufee si ganee
‘WAAQAYYO eenyuu dha?’ nan jedha;
yookaan hiyyoomee hatee,
akkasiin maqaa Waaqa koo nan salphisa.

10 “Garbicha tokko gooftaa isaa biratti hin hamatin,
yoo kanaa achii inni si abaaraa; atis waan kanatti ni gaafatamta.

11 “Dhaloota abbaa isaa abaaru
kan haadha isaa illee hin eebbifnetu jira;
12 dhaloota qulqulluu of se’u,
kan xurii isaa irraa hin qulqulleeffamintu jiru;
13 dhaloota iji isaa akka malee of tuulu,
kan baalleen ija isaas nama tuffatutu jira;
14 dhaloota hiyyeeyyii lafa irraa fixuuf
rakkattoota illee gidduu namaatii balleessuuf
ilkaan isaa goraadee,
ha’oon isaa immoo billaa ta’e jira.

15 “Dhulaandhulli intallan,
‘Kenni! Kenni!’ jedhanii iyyan lama qabdi.

“Wantoota gonkumaa hin quufne sadiitu jira;
kanneen gonkumaa, ‘Nu ga’e!’ hin jenne immoo afurtu jira:
16 isaanis Sii’ool,
gadameessa maseene,
lafa gonkumaa bishaan hin quufnee fi
ibidda gonkumaa, ‘Na ga’e!’ hin jennee dha.

17 “Ija abbaatti qoosu,
kan ajaja haadhaa tuffatu
arraagessa sululaatiin baafama;
joobiraanis ni nyaatama.

18 “Wantoonni akka malee na dinqisiisan sadiitu jira;
afur immoo ani hin hubadhu; kunis:
19 Karaan risaa samii irra,

karaan bofaa kattaa irra,
karaan doonii galaana guddaa irra,
karaan dhiiraa immoo dubartii wajjin ta’uu isaa ti.

20 “Karaan ejjituu kana:
Isheen waa nyaattee afaan haqatti;
ergasii immoo, ‘Ani homaa hin balleessine’ jetti.

21 “Lafti waan sadii jalatti hollatti;
afur immoo baachuu hin dandeessu; kunis:
22 Garbicha mootii ta’u,
gowwaa nyaatee quufu,
23 dubartiin jibbamte yeroo dhirsa argattu,
garbittii giiftii ishee dhaaltu.

24 “Wantoonni xixinnoon afur lafa irra jiru;
ta’u illee isaan akka malee ogeeyyii dha; isaanis:
25 Goondaawwan tuuta jabina hin qabnee dha;
ta’us isaan yeroo bonaa nyaata isaanii walitti qaban;
26 osoleewwan uumamawwan humna hin qabnee dha;
garuu kattaa keessa jiraatu;
27 hawwaannisni mootii hin qabu;
garuu tarree galee yaa’a;
28 loccuun harkaan qabamuu dandeessi;
garuu masaraa mootii keessatti argamti.

29 “Wantoota deemsa tolan sadiitu jira;
kanneen tarkaanfii bareedanis afurtu jira; isaanis:
30 Leenca bineensa hunda keessaa jabaa, kan waan tokko illee sodaatee duubatti hin deebine;
31 korma indaanqoo kan kooraa deemu,
korbeessa re’eetii fi,
mootii loltoota isaa dura deemu.

32 “Ati yoo of jajuudhaan gowwoomte,
yookaan yoo hammina malatte,
harka kee afaan kee irra kaa’adhu!
33 Akkuma aannan raasuun dhadhaa baasu,
funyaan micciiruunis dhiiga baasu sana,
aarii kakaasuun lola fida.”

## Jecha Limuu’el Mootichaa

# 31

1 Jecha Lemuu’eel mootichaa kan haati isaa isa barsiifte:
2 “Maali yaa ilma ko, maali yaa ilma gadameessa ko,
maali yaa ilma wareega ko,
3 humna kee dubartoota irratti,
jabina kee warra mootota balleessan irratti hin fixin.

4 “Yaa Lemuu’eel, wanni kun moototaaf hin malu;
daadhii wayinii dhuguun moototaaf hin malu;

dhugaatii cimaatti gaggabuunis bulchitootaaf hin malu;
5 kunis akka isaan dhuganii waan seerri jedhu dagatanii
warra hacuucaman hunda mirga isaanii hin dhowwanneef.
6 Warra baduuf jiraniif dhugaatii cimaa,
warra jireenyi itti hadhaa'eef daadhii wayinii kenni;
7 isaan dhuganii hiyyummaa isaanii haa irraanfatan;
rakkina isaaniis deebi'anii hin yaadatin.

8 "Warra ofii isaaniitiif dubbachuu hin dandeenyeef,
mirga warra gatamaniitiifis falmi.
9 Afaan kee banadhu; murtii qajeelaas kenni;
mirga hiyyeeyyiitii fi rakkattootaatiif falmi."

## Xumura: Niitii Amala Gaarii Qabdu

10 Niitii amala gaarii qabdu eenyutu argachuu danda'a?
Isheen lula diimaa caalaa gati qabeettii dha.
11 Dhirsi ishee guddisee ishee amanata;
inni waan faayidaa qabu tokko illee hin dhabu.
12 Isheen bara jireenya ishee guutuu
waan gaarii isaaf fiddi malee isa hin miitu.
13 Isheen suufii fi quncee talbaa barbaaddee
harka ishee kan hojii jaallatuun footi.
14 Isheen akkuma doonii daldalaatti
lafa fagoodhaa nyaata ishee fidatti.
15 Isheen utuu lafti hin bari'in hirribaa kaatee
maatii isheetiif nyaata kenniti;
xomboreewwan isheefis hojii qooddi.
16 Isheen lafa qotiisaa hubattee ilaaltee bitti;
waan hojjettee argattu keessaa wayinii dhaabdi.
17 Isheen jabinaan mudhii ishee hidhattee
hojiidhaaf irree ishee jabeeffatti.
18 Isheen akka daldalli ishee bu'aa qabu hubatti;
ibsaan ishees halkaniin hin dhaamu.
19 Mukni itti jirbii maran harka ishee keessa jira;
quba isheetiin immoo calii qabatti.
20 Isheen hiyyeessaaf harka hiixatti;
dhabaadhaaf illee harka bal'ifti.
21 Yoo cabbiin bu'e illee isheen maatii isheetiif hin yaaddoftu;
isaan hundinuu uffata bildiimaa uffataniiruutii.
22 Isheen wayyaa siree dha'atti;
uffata dhiilgee quncee talbaa haphii irraa
hojjetames uffatti.
23 Dhirsi ishee yommuu karra magaalaa dura,
jaarsolii biyyaa gidduu taa'u ni kabajama.
24 Isheen wayyaa quncee talbaa dhooftee gurgurti;
daldaltootaafis sabbata dhi'eessiti.
25 Isheen jabinaa fi ulfina uffatti;
bara dhufaa jiruttis kolfuu dandeessi.
26 Afaan ishee ogummaadhaan banatti;
gorsi gara laafinaas arraba ishee irra jira.
27 Isheen mana ishee to'atti;
isheen buddeena dhibaa'ummaas hin nyaattu.

28 Ijoolleen ishee ka’anii, eebbifamtuu jedhuun;
dhirsi ishees akkasuma jedhaan; akkana jedhees ishee jaja:
29 “Dubartoonni hedduun waan gaarii hojjetu;
ati garuu isaan hunda caalta.”
30 Simboon nama gowwoomsa; miidhaginnis ni darba;
dubartiin WAAQAYYOON sodaattu garuu galateeffamtuu dha.
31 Bu’aa harka ishee kennaafii;
hojiin ishee karra magaalaa duratti ishee haa jaju.

# Kitaaba Lallabaa

*Wanti Hundinuu Faayidaa Hin qabu*

1 Dubbii lallabaa ilma Daawit, isa Yerusaalem keessaatti mootii ta’e sanaa:
2 Lallabichi, “Faayidaa hin qabu!
Faayidaa hin qabu!
Guutumaan guutuutti faayidaa hin qabu!
Wanni hundinuu faayidaa hin qabu” jedha.

3 Namni hojii isaa kan aduudhaa gaditti
itti dadhabu hunda keessaa, bu’aa maalii argata?
4 Dhaloonni ni dhufa; dhaloonni ni darba;
lafti garuu bara baraan jiraatti.
5 Biiftuun ni baati; biiftuun ni lixxi;
gara baate sanatti deebi’uufis ni ariifatti.
6 Bubbeen gara kibbaatti bubbisa;
gara kaabaattis ni deebi’a;
innis naanna’uma naanna’ee deema;
karaa isaa irras deddeebi’a.
7 Lagni hundi galaanatti yaa’a;
galaanni garuu hin guutu.
Lageen garuma dhufanitti
deebi’anii yaa’u.
8 Wanni hundinuu hamma namni tokko
dubbachuu danda’u caalaa dadhabsiisaa dha.
Iji argee hin quufu;
yookaan gurri dhaga’ee hin guutu.
9 Wanni duraan ture ammas ni ta’a;
wanni duraan hojjetame ammas ni hojjetama;
aduudhaa gaditti wanni haaraan tokko iyyuu hin jiru.
10 Wanni namni tokko, “Ilaa! Wanni kun haaraa dha”
jechuu danda’u kam iyyuu jiraa?
Wanni kun duraanuu bara dheeraan dura as ture;
bara keenyaan dura iyyuu asuma ture.
11 Namoonni bara durii hin yaadataman;
kanneen dhufuuf jiranis
warra isaan duubaan dhufaniin hin yaadataman.

*Ogummaan Faayidaa Hin qabu*

12 Ani Lallabaan, Yerusaalem keessatti mootii Israa’elin ture. 13 Ani waan samii
gaditti hojjetame hunda ogummaadhaan qu’adhee qoradhee bira ga’uuf of kenneen
ture. Waaqni ba’aa ulfaataa akkamii nama irra kaa’e! 14 Ani waan aduudhaa gaditti
hojjetame hunda argeera; hundi isaanii iyyuu faayidaa hin qaban; kun akkuma nama
bubbee ari’uu ti.
15 Wanni jal’ifame tokko deebi’ee hin qajeelfamu;
wanni hin jirres lakkaa’amuu hin danda’u.
16 Anis akkana jedheen yaade; “Kunoo, ani nama anaan dura Yerusaalemin bulchaa
ture kam iyyuu caalaa guddadhee ogummaas dabaladheera; ani muuxannoo ogum-
maatii fi beekumsaa guddaa argadheera.” 17 Kanaafuu ani ogummaa, maraatummaa

fi gowwummaa hubachuufin of kenne; garuu ani akka wanni kunis bubbee ari'uu ta'e nan baradhe.
18 Ogummaa guddaa keessa gadda baay'eetu jiraatii;
akkuma beekumsi dabalamuun gaddis dabalama.

## 2

*Gammachuun Faayidaa Hin Qabu*

1 Ani garaa koo keessatti, "Ani waan gaarii barbaaduudhaaf gammachuudhaan sin
qoraatii mee kottu" jedheen yaade. Garuu wanni kunis waan faayidaa hin qabne
ta'uu isaa nan mirkaneeffadhe. 2 Anis, "Kolfi gowwummaa dha; gammachuunis
maal fayyada?" nan jedhe. 3 Anis utuma qalbiin koo ogummaadhaan na qajeelchaa
jiruu gowwummaa qabadhee daadhii wayiniitiin of gammachiisu nan yaale. Waan namoonni bara jireenya isaanii muraasa keessatti samii gaditti hojjetan arguu nan fedhe.
4 Ani hojii guddaa nan hojjedhe: Manneen ijaarradhee wayiniis dhaabadhe. 5 Ani
iddoo biqiltuutii fi iddoo bashannanaa qopheeffadhee mukkeen ija naqatan kanneen
gosa hundaa achi keessa nan dhaabadhe. 6 Bosona mukkeen guddachaa jiranii
ittiin obaafachuufis kuusaa bishaanii nan qopheeffadhe. 7 Ani garboota dhiiraa fi
dubartii nan bitadhe; garboota mana kootti dhalatan biraas nan qabaadhe; nama naan dura Yerusaalem keessa jiraate kam iyyuu caalaas loonii fi bushaayee hedduu
nan horadhe. 8 Ani meetii fi warqee, qabeenya moototaatii fi kutaawwan biyyaa walitti nan qabadhe. Ani faarfattoota dhiiraa fi dubartii akkasumas saajjatoowwan
nama gammachiisan hedduu qaban ture. 9 Kanaafuu ani akka malee guddadhee
nama anaan dura Yerusaalem keessa ture kam iyyuu caale. Waan kana hunda keessatti ogummaan koo anuma wajjin ture.
10 Ani waan iji koo hawwe hunda isa hin dhowwine;
garaa koos gammachuu tokko illee hin lagne.
Garaan koo hojii koo hundatti gammade;
kunis dadhabbii koo hundaaf badhaasa ture.
11 Ta'us ani yeroon waan harki koo hojjete hundaa fi
waanan argachuuf jedhee itti dadhabe hubadhee ilaaletti,
wanni hundi akkuma bubbee ari'uuti malee
faayidaa hin qabu ture;
aduudhaa gaditti bu'aan tokko iyyuu hin turre.

*Ogummaa Fi Gowwummaan Faayidaa Hin Qaban*

12 Anis yaada koo gara ogummaa,
maraatummaa fi gowwummaa hubachuutti nan deebifadhe.
Namni mootii iddoo bu'u tokko waan duraan hojjetame caalaa
maal gochuu danda'a?
13 Ani akkuma ifni dukkana irra wayyu sana,
akka ogummaan gowwummaa irra wayyu nan arge.
14 Ogeessi mataa isaa keessaa ija qaba;
gowwaan garuu dukkana keessa deema;
ani garuu akka galgalli isaan lamaanii
tokkuma ta'e nan hubadhe.
15 Ergasii ani akkana jedheen garaa koo keessatti nan yaade;
"Wanni gowwaa quunname, anaanis ni quunnama;
yoos ani ogeessa ta'uudhaan maalan argadha ree?"
Ani garaa koo keessatti,
"Kunis faayidaa hin qabu" nan jedhe.

16 Ogeessi akkuma gowwaa yeroo dheeraaf hin yaadatamuutii;
bara dhufuuf jiru keessa isaan lachuu ni irraanfatamu.
Ogeessis akkuma gowwaa du'uu qaba!

### *Hojiin Dadhabuun Faayidaa Hin Qabu*

17 Sababii wanni aduu gaditti hojjetamu na gaddisiiseef ani jireenya nan jibbe; kun
hundinuu bubbee ari'uu dha; faayidaas hin qabu. 18 Ani sababii nama ana duubaan
dhufuuf waan kana dhiisuu qabuuf, waanan aduudhaa gaditti itti dadhabe hunda
nan jibbe. 19 Eenyutu akka inni ogeessa yookaan gowwaa ta'u beeka? Ta'us inni
hojii ani aduudhaa gaditti yaalii fi ogummaa koo itti dhangalaase hundatti abbaa
ta'a. Kunis faayidaa hin qabu. 20 Kanaafuu garaan koo sababii hojii koo dadhabsiisaa
ani aduudhaa gaditti itti dadhabe hundaatiif abdii kutachuu jalqabe. 21 Namni tokko
hojii isaa ogummaan, beekumsaa fi harka toliisaan hojjetee ergasii immoo waan qabu
hunda nama homaa itti hin dadhabiniif dhiisuu qabaatii. Wanni kunis faayidaa
hin qabu; hammina guddaadhas. 22 Namni tokko dadhabbii isaatiif yaalii cimaa
aduudhaa gaditti godhe sana hundaaf maal argata? 23 Hojiin isaa bara jireenya
isaa hunda rakkinaa fi gadda; sammuun isaa halkan iyyuu hin boqotu. Kunis waan
faayidaa hin qabnee dha.
24 Namni nyaatee dhugee hojii isaatti gammaduu caalaa homaa gochuu hin
danda'u. Ani akka wanni kun harka Waaqaatii dhufe nan arge; 25 Waaqaan malee
eenyutu nyaachuu yookaan gammaduu danda'a? 26 Waaqni nama isa gammachiisuuf
ogummaa, beekumsaa fi gammachuu kenna; nama cubbamaa garuu akka inni
namicha Waaqa gammachiisuuf kennuuf jedhee hojii qabeenya walitti qabuutii fi
kuusuu hojjetu godha. Kunis bubbee ari'uu dha; faayidaas hin qabu.

# 3

### *Wanni Hundinuu Yeroo Qaba*

1 Wanni hundinuu yeroo qaba;
hojiin samiidhaa gaditti hojjetamu hundis waqtii qaba:

2 Dhalachuuf yeroo qaba; du'uufis yeroo qaba;
dhaabuuf yeroo qaba; buqqisuufis yeroo qaba;
3 ajjeesuuf yeroo qaba; fayyisuufis yeroo qaba;
diiguuf yeroo qaba; ijaaruufis yeroo qaba;
4 boo'uuf yeroo qaba; kolfuufis yeroo qaba;
gadduuf yeroo qaba; sirbuufis yeroo qaba;
5 dhagaa bittinneessuuf yeroo qaba; walitti qabuufis yeroo qaba;
hammachuuf yeroo qaba; hammachuu dhiisuufis yeroo qaba;
6 barbaaduuf yeroo qaba; barbaaduu dhiisuufis yeroo qaba;
kaa'uuf yeroo qaba; gatuufis yeroo qaba;
7 tarsaasuuf yeroo qaba; hodhuufis yeroo qaba;
cal'isuuf yeroo qaba; dubbachuufis yeroo qaba;
8 jaallachuun yeroo qaba; jibbuufis yeroo qaba;
loluuf yeroo qaba; nagaafis yeroo qaba.

9 Hojjetaan tokko dadhabbii isaa irraa bu'aa maalii argata? 10 Ani ba'aa Waaqni
namoota irra kaa'e argeera. 11 Inni waan hunda yeruma isaatti miidhagsee tolcheera.
Akkasumas yaada baraa baraa garaa namootaa keessa kaa'e. Ta'us isaan waan
Waaqni jalqabaa hamma dhumaatti hojjete beekuu hin danda'an. 12 Ani akka
namootaaf bara jireenya isaanii keessa wanni gammaduu fi waan gaarii hojjechuu
caalu tokko iyyuu hin jirre nan beeka. 13 Tokkoon tokkoon namaa nyaatee dhugee

bu’aa hojii isaa hundatti gammaduun kennaa Waaqaa ti. 14 Ani akka wanni Waaqni
hojjetu hundi bara baraan jiraatu beeka; wanni tokko illee itti hin dabalamu; wanni
tokko iyyuus irraa hin fudhatamu. Waaqni akka namoonni isa sodaataniif waan kana
godha.
15 Wanni amma jiru kam iyyuu duraanuu tureera;
wanni dhufuuf jirus duraanuu jira ture;
Waaqni waan darbes deebisee fida.
16 Anis aduudhaa gaditti waan biraa nan arge; kunis:
Iddoo murtiin qajeelaan jiraachuu malu, hamminatu ture;
iddoo qajeelummaan jiraachuu malu immoo jal’inatu ture.
17 Ani garaa koo keessatti akkana jedheen yaade;
“Waaqni qajeeltotaa fi hamoota, gara murtiitti ni fida;
wanni hundinuu, hojiin hundinuus yeroo ni qabaatii.”
18 Ani amma illee akkana jedhee garaa koo keessatti nan yaade; “Waaqni akka
isaan akkuma bineensotaa ta’uu isaanii arganiif ilmaan namaa qora. 19 Wanni
nama irra ga’u, bineensota irras ni ga’a; lachan isaanii iyyuu waanuma tokkotu
eeggata; akkuma inni tokko du’u, inni kaanis ni du’a. Hundi isaanii hafuuruma
tokko qabu; namni bineensa caalaa faayidaa argatu tokko illee hin qabu. Wanni
hundinuu faayidaa hin qabu. 20 Isaan hundi idduma tokko dhaqu; hundinuu biyyoo
irraa dhufan; hundinuus biyyootti deebi’u. 21 Akka hafuurri namaa ol ba’ee hafuurri
bineensaa immoo lafa keessa seenu eenyutu beeka?”
22 Kanaafuu ani sababii wanni sun ixaa isaa ta’eef akka namaaf wanni hojii isaatti
gammaduu caalu tokko iyyuu hin jirre nan arge. Akka inni waan isa duubaan ta’u
arguuf eenyutu isa fiduu danda’a?

# 4

*Cunqursaa, Hojiidhaan Dadhabuu, Michuu Dhabuu*

1 Ani ammas ilaalee cunqursaa aduudhaa gaditti adeemsifamaa jiru hunda nan
arge:
Ani imimmaan cunqurfamtootaa nan arge;
nama isaan jajjabeessu tokko illees hin qaban;
humni gama cunqursitoota isaanii ture;
isaan nama isaan jajjabeessu tokko illee hin qaban.
2 Anis akka warri du’an,
kanneen kanaan dura du’an,
jiraattota amma lubbuudhaan jiraatan caalan nan labse.
3 Garuu namni hamma ammaatti hin dhalatin
kan hammina aduudhaa gaditti
hojjetamu hin argin,
lachan isaanii irra wayya.
4 Anis akka dadhabbiin hojii hundii fi milkaa’uun hundi hinaaffaa namni ollaa isaa
wajjin qabu irraa burqu nan arga. Kunis bubbee ari’uu dha; faayidaas hin qabu.
5 Gowwaan harka isaa maratee taa’a;
foonuma ofii isaas nyaata.
6 Dadhabbii fi bubbee ari’uudhaan
konyee lama argachuu irra
nagaan konyee tokko argachuu wayya.
7 Ani amma illee waan faayidaa hin qabne tokko aduudhaa gaditti nan arge:
8 Nama kophaa isaa jiraatu tokkotu jira;
innis ilma yookaan obboleessa hin qabu ture.

Yeroo hunda hojiitti dadhaba;
ta'us iji isaa qabeenya isaa ilaalee quufe hin jedhu.
Innis, "Ani eenyuuf jedheen dadhaba?
Maaliifan gammachuus of laga?" jedhee gaafate.
Kunis faayidaa hin qabu;
hojii bu'aa hin qabnee dha!

9 Isaan sababii hojii isaaniitiif gatii gaarii waan argataniif
nama tokko irra nama lama wayya:
10 Yoo inni tokko kufe,
inni kaan ol isa qaba.
Garuu namni kufee kan ol isa kaasu hin qabne
garaa nama nyaata!
11 Yoo namoonni lama wajjin ciisan itti ho'a;
nama tokko garuu akkamitti kophaa isaa itti ho'uu danda'a?
12 Namni tokko mo'atamuu danda'a;
namoonni lama garuu of irraa deebisuu danda'u.
Funyoon fo'aa sadiin fo'ame dafee hin citu.

### *Caalanii Argamuun Faayidaa Hin qabu*

13 Mootii dulloomaa fi gowwaa si'achi gorsa hin fudhanne irra, dargaggeessa
hiyyeessa ogeessa wayya. 14 Inni yoo hiyyumaan mootummaa sana keessatti dhalate
iyyuu mana hidhaatii ba'ee mootii ta'uu danda'aatii. 15 Ani akka namni aduudhaa
gad jiraate hundi dargaggeessa mootii dhaalu sana duukaa bu'e nan arge. 16 Baay'inni
nama fuula isaanii dura jiruu hamma hin qabu ture. Warri duubaan dhufan
garuu dargaggeessa dhaalu sanatti hin gammanne. Kun hundis bubbee ari'uu dha;
faayidaas hin qabu.

## 5

### *Waaqa Sodaadhu*

1 Ati yeroo gara mana Waaqaa dhaqxu tarkaanfii kee eeggadhu. Dhaggeeffachuuf
dhi'aachuun aarsaa gowwootaa dhi'eessuu caala; isaan akka hammina hojjechaa
jiran hin beekaniitii.
2 Fuula Waaqaa duratti waan tokko dubbachuuf
afaan keetiin hin jarjarin;
garaan kees hin ariifatin.
Waaqni samii keessa jira;
ati immoo lafa irra jirta;
kanaafuu dubbiin kee haa gabaabbatu.
3 Abjuun baay'ina hojiitiin dhufa; haasaan gowwaas
baay'ina dubbiitiin beekama.
4 Ati yeroo wareega tokko Waaqaaf wareegdutti wareega sana of irraa baasuuf lafa
irra hin harkifatin. Inni gowwootatti hin gammadu; ati wareega kee of irraa baasi.
5 Wareeganii of irraa baasuu dhiisuu mannaa wareeguu dhiisuu wayya. 6 Afaan kee
cubbuu keessa si hin buusin. Ergamaa mana qulqullummaatiinis, "Wareegni koo
dogoggora ture" hin jedhin. Waaqni maaliif waan ati jettetti aaree hojii harka keetii
balleessa? 7 Abjuun baay'eenii fi dubbiin baay'een faayidaa hin qaban. Kanaafuu
Waaqa sodaadhu.

### *Badhaadhummaan Faayidaa Hin qabu*

[8] Ati yoo hiyyeessa aanaa tokko keessatti hacuucamee murtii qajeelaa fi mirgi
dhowwatame argite, waan akkanaa hin dinqisiifatin; qondaalli tokko qondaala
isaa oliitiin ilaalaamaatii; isaaniin olittis qondaaltonni biraa jiru. [9] Faayidaan lafa
irraa argamu kan nama hundaa ti; mootichi mataan isaa iyyuu qonna lafaa irraa
fayyadama.

[10] Nama maallaqa jaalatu kam iyyuu maallaqni isa hin ga'u;
nama qabeenya jaalatu illee galiin isaa isa hin quubsu.
Kunis faayidaa hin qabu.

[11] Akkuma qabeenyi baay'atuun,
warri nyaatanis ni baay'atu.
Yoos abbootiin qabeenyaa
ijumaan ilaaluu malee faayidaa maalii argatu ree?

[12] Xinnaas nyaatu, guddaas nyaatu,
hirribni hojjetaa tokkoo mi'aawaa dha;
baay'inni qabeenyaa garuu
sooressa tokko hirriba dhowwa.

[13] Ani aduudhaa gaditti hammina nama gaddisiisu nan arge; kunis:
qabeenya abbuma isaa miidhuuf kuufame,
[14] yookaan qabeenya milkii dhabuudhaan badee
yeroo namichi sun ilma dhalchetti
ilma isaatiif homaa hin hafinii dha.

[15] Namni qullaadhuma isaa gadameessa haadha isaatii ba'a;
inni akkuma dhufetti deebi'ee deema.
Inni waan itti dadhabe keessaa
waan tokko illee harkatti qabatee hin deemu.

[16] Kunis hammina nama gaddisiisuu dha:
Namni akkuma dhufetti deema;
inni waan bubbeedhaaf dadhabuuf
faayidaa maalii argata?

[17] Inni bara jireenya isaa hunda yaaddoo,
dhukkubbii fi aarii guddaadhaan dukkana keessatti nyaata.

[18] Anis akka namni bara jireenya isaa kan Waaqni isaaf kenne gabaabaa kana
keessa nyaatee dhugee hojii isaa kan aduudhaa gaditti itti dadhabe sanatti illee
gammaduun isaaf gaarii fi barbaachisaa ta'e nan hubadhe; qoodni isaa kanumaatii.
[19] Akkasumas Waaqni nama kamiifuu badhaadhummaa fi qabeenya kennee akka
inni itti gammadu, akka inni qooda ofii isaa fudhatee hojii ofii isaatti gammadu isa
godhuun isaa, kennaa Waaqaa ti. [20] Sababii Waaqni garaa isaa gammachuudhaan
guuteef inni bara jireenya isaa baay'ee hin yaadatu.

# 6

[1] Ani aduudhaa gaditti waan hamaa biraa argeera; kunis akka malee namatti
ulfaata: [2] Waaqni akka namni waan garaa isaatti hawwu tokko iyyuu hin dhabneef
qabeenya, badhaadhummaa fi ulfina isaaf kenne; Waaqni garuu akka inni itti
gammadu hin goone; qooda namichaa nama ormaatu itti gammada. Kun waan
faayidaa hin qabnee dha; hammina nama gaddisiisuudhas.

[3] Namni tokko ijoollee dhibba qabaatee waggoota baay'ee jiraachuu danda'a; inni
hamma fedhe jiraatu illee yoo qabeenya isaatti gammaduu baatee awwaala gaariis
argachuu baate, ani, "Isaa mannaa gatata wayya" nan jedha. [4] Inni akkasumaan
dhufa; dukkana keessa bada; maqaan isaas dukkanaan haguugama. [5] Inni yoo aduu

arguu baate iyyuu yookaan yoo homaa beekuu baate iyyuu boqonnaa namichi sun
argatu caalaa boqonnaa qabaata. 6 Inni waggaa kuma yeroo lama jiraatu illee yoo
jireenya gaarii hin jiraatin, namni hundi idduma tokko dhaqa mitii?

7 Dadhabbiin nama hundaa afaanuma isaatiif;
fedhiin isaa garuu yoom iyyuu hin guutu.
8 Ogeessi maaliin gowwaa caala?
Hiyyeessi akka itti fuula namootaa dura jiraatu beekuudhaan
faayidaa maalii argata?
9 Hawwiidhaan jooruu mannaa waan iji argu wayya.
Kunis bubbee ari'uu malee faayidaa hin qabu.

10 Waan jiru hundaaf duraanuu maqaan ba'eera;
maalummaan namaas beekamaa dha;
namni tokko iyyuu nama isa caalaa humna qabuun
morkachuu hin danda'u.
11 Dubbiin akkuma baay'atuun faayidaa dhaba;
yoos wanni sun akkamiin nama kam iyyuu fayyada?

12 Bara jireenya namaa kan inni akkuma gaaddisaatti keessa ba'ee darbu gabaabaa
faayidaa hin qabne kana keessa eenyutu waan namaaf gaarii ta'e beeka? Waan erga
inni deemee booddee aduudhaa gaditti ta'us eenyutu isatti himuu danda'a?

# 7

*Ogummaa*

1 Shittoo urgaa'aa irra maqaa gaarii wayya;
guyyaa dhalootaa irra guyyaa du'aa wayya.
2 Mana cidhaa dhaquu mannaa
mana boo'ichaa dhaquu wayya;
galgalli nama hundaa du'umaatii;
namni lubbuun jiraatu waan kana garaatti haa qabatu.
3 Fuulli gaddu waan garaa gammachiisuuf
kolfa irra gadda wayya.
4 Qalbiin ogeessaa mana boo'ichaa jira,
qalbiin gowwaa garuu mana gammachuu jira.
5 Sirba gowwootaa dhaga'uu mannaa
ifannaa ogeessaa dhaggeeffachuu wayya.
6 Kolfi gowwaa akkuma qoraattii
xuwwee jalaa xaaxa'uu ti.
Kunis faayidaa hin qabu.

7 Cunqursaan ogeessa gowwaa godha;
matta'aanis sammuu nama xureessa.

8 Jalqaba waan tokkoo irra dhuma isaa wayya;
of tuuluu irras obsa wayya.
9 Hafuura keetiin aaruuf hin ariifatin;
aariin bobaa gowwootaa keessa jiraatii.

10 Ati, “Barri durii maaliif bara kana caale?” hin jedhin;
waan kana gaafachuun ogummaa miti.

11 Ogummaan akkuma dhaalaa waan gaarii dha;
warra aduu arganiifis bu’aa qaba.
12 Akkuma maallaqni da’oo ta’e sana
ogummaanis da’oo dha;
faayidaan beekumsaa garuu kana:
innis ogummaan warra ishee qabaniif jireenya kennuu ishee ti.
13 Waan Waaqni hojjete mee ilaali:
Waan inni jal’ise
eenyutu qajeelchuu danda’a?
14 Yommuu yeroon gaarii ta’utti gammadi;
yommuu yeroon hammaatu garuu itti yaadi:
Waaqni isa tokko hojjete isa kaanis hojjeteera.
Kanaafuu namni egeree isaa beekuu hin danda’u.
15 Ani jireenya koo kan faayidaa hin qabne kana keessatti waan kana lachuu
argeera; kunis:
Qajeelaan qajeelummaa isaatiin baduu isaatii fi
hamaan immoo hammina isaatiin bara dheeraa jiraachuu isaa ti.
16 Ati akka malee qajeelaa hin ta’in;
yookaan akka malee ogeessa hin ta’in;
maaliif of galaafatta?
17 Ati akka malee hamaa hin ta’in;
gowwaas hin ta’in;
maaliif utuu yeroon kee hin ga’in duuta?
18 Utuu isa kaan gad hin dhiisin
waan tokko qabaachuun gaarii dha.
Namni Waaqa sodaatu waan hundaan ni milkaa’a.

19 Ogummaan, bulchitoota magaalaa tokko keessa jiran kudhan caalaa
nama ogeessa tokko humna qabeessa gooti.

20 Namni qajeelaan waan qajeelaa malee
cubbuu tokko illee hin hojjenne lafa irra hin jiru.

21 Waan namni jedhu hunda hin dhaggeeffatin;
yoo kana goote utuu hojjetaan kee si abaaruu dhageessaa;
22 ati mataan kee iyyuu yeroo baay’ee
namoota kaan akka abaarte garaan kee beekaatii.
23 Ani waan kana hunda ogummaadhaanan qoradhee,
“Ani ogeessan ta’a” nan jedhe.
Wanni kun garuu narraa fagoo ture.
24 Wanti jiru hundi fagoo dha; gad fagoo dha;
eenyutu qoratee bira ga’uu danda’a?
25 Kanaafuu ani gara ogummaa fi
maalummaa wantootaa hubachuutti, sakatta’uutti, qorachuutti
akkasumas hammina gowwummaatii fi
maraatummaa gowwummaa hubachuutti qalbii koo nan deebifadhe.

26 Ani waan du’a caalaa hadhaa’uu nan arge; kunis:
dubartii kiyyoo taate,
kan yaadni ishee kiyyoo,

harki ishee immoo foncaa ta’ee dha.
Namni Waaqa gammachiisu ishee jalaa ni ba’a;
cubbamaan garuu isheedhaan qabama.
27 Lallabaan akkana jedha; “Kunoo wanni ani qoradhee bira ga’e kanaa dha:
“Mala isaa beekuuf waan tokko fuudhanii waan kaanitti dabaluu dha;
28 ani ammas nan sakatta’e;
garuu hin arganne.
Ani kuma keessaa dhiira qajeelaa tokko nan argadhe;
hunduma isaanii keessaa garuu dubartii qajeeltuu tokko iyyuu hin arganne.
29 Kunoo ani waan kana qofa nan argadhe:
Waaqni qajeeltota godhee ilmaan namaa uume;
namoonni garuu mala baay’ee barbaacha deeman.”

# 8

1 Kan akka nama ogeessaa eenyu?
Eenyutu hiikkaa waan tokkoo beeka?
Ogummaan fuula namaa ibsa;
nyaara guurames ni hiika.

*Mootiif Ajajami*

2 Ati sababii fuula Waaqaa duratti kakuu galteef ajaja mootii eegi. 3 Fuula mootii
duraa deemuuf hin jarjarin. Waan hamaa keessatti hin hirmaatin; inni waan fedhe
kam iyyuu ni godhaatii. 4 Sababii dubbiin mootii waan hundaa ol ta’eef eenyutu, “Ati
maal hojjechaa jirta?” isaan jechuu danda’a?
5 Namni ajaja mootii eegu kam iyyuu hin miidhamu;
qalbiin ogeessaa immoo yeroo fi haala mijaa’aa beeka.
6 Rakkinni namaa akka malee isatti ulfaatu iyyuu
wanni hundi yeroo fi haala mijaa’aa qabaatii.

7 Sababii namni tokko iyyuu waan eger ta’u hin beekneef,
eenyutu waan dhufuuf jiru isatti himuu danda’a?
8 Namni tokko iyyuu hafuura isaa of keessatti dhowwuu hin danda’u;
kanaafuu eenyu iyyuu guyyaa du’a isaa irratti humna hin qabu.
Akkuma namni tokko yeroo waraanaatti duula keessaa hin ari’amne sana,
hamminnis warra isa hojjetu gad hin dhiisu.
9 Anis qalbii koo gara waan aduudhaa gaditti hojjetamu hundaatti deebifadhee
waan kana hunda nan arge. Yeroon namni tokko warra kaan humnaan nan bulcha
jedhee ofuma miidhu jira. 10 Ergasiis ani hamoota iddoo qulqulluu seenanii ba’aa
turan sana akka isaan awwaalaman nan arge; isaanis magaalaa itti waan akkasii
hojjetan keessatti ni jajamu ture. Kunis faayidaa hin qabu.
11 Sababii yakka hojjetame tokkootiif adabbiin dafee hin kennamneef, garaan
namootaa mala hammina hojjechuutiin guutama. 12 Cubbamaan tokko yeroo dhibba
yakka hojjetee bara dheeraa jiraatu iyyuu, ani akka namoonni Waaqa sodaatan
kanneen sodaadhaan fuula isaa dura jiraatan nagaa qabaatan nan beeka. 13 Ta’us
hamoonni sababii Waaqa hin sodaanneef nagaa hin qabaatan; barri jireenya isaaniis
akka gaaddidduu hin dheeratu.
14 Waan faayidaa hin qabne kan lafa irratti ta’u tokkotu jira; kunis qajeeltota waan
hamootaaf malu argatanii fi hamoota waan qajeeltotaaf malu argatanii dha. Ani
wanni kun faayidaa hin qabu nan jedha. 15 Kanaafuu namaaf wanni aduudhaa gaditti
nyaachuu, dhuguu fi gammaduu caalu tokko iyyuu sababii hin jirreef ani akka namni

jireenyatti gammadu nan gorsa. Akkasiin bara jireenya isaa kan Waaqni aduudhaa gaditti kenneef hunda keessatti hojii isaa irratti gammachuun isa duukaa bu'a.
16 Ani yommuun qalbii koo gara ogummaa beekuu fi hojii namni utuu iji isaa
halkanii fi guyyaa hirriba hin argatin hojjetu ilaaluutti deebifadhetti, 17 waan Waaqni
hojjete hunda nan arge. Namni tokko iyyuu waan aduudhaa gaditti ta'aa jiru hubachuu hin danda'u. Namni waan kana bira ga'uuf tattaaffatu iyyuu hiikkaa isaa argachuu hin danda'u. Ogeessi waan beeku yoo of se'e illee inni dhugumaan hubachuu hin danda'u.

# 9

*Galgalli Nama Hundaa Tokkuma*

1 Kanaafuu ani waan kana hunda garaatti qabadhee akka qajeelaan, ogeessii fi
hojiiwwan isaanii harka Waaqaa keessa jiran nan hubadhe; garuu namni tokko iyyuu
akka jaalalli yookaan jibbi isa eeggatu hin beeku. 2 Nama qajeelaa fi jal'aa, nama
gaarii fi hamaa, nama qulqulluu fi xuraa'aa, warra aarsaa dhi'eessanii fi warra hin dhi'eessine hunda galgalli isaanii tokkuma.
Waanuma nama gaarii irra ga'utu,
cubbammaa irras ga'a;
waanuma warra kakuu seenan irra ga'utu,
warri kakuu seenuu sodaatan irra ga'a.
3 Hamminni waan aduudhaa gaditti ta'u hunda keessa jiru kanaa dha: Galgalli nama hundaa tokkoo dha. Kana malees garaan namootaa hamminaan guutameera; bara jireenya isaanii keessas maraatummaatu garaa isaanii keessa jira; ergasii isaan
warra du'anitti dabalamu. 4 Namni warra lubbuun jiran hundatti dabalamu kam
iyyuu abdii qaba. Leenca du'ee mannaa saree lubbuun jirtu wayyaatii!
5 Warri lubbuun jiran akka du'an ni beekuutii;
warri du'an garuu homaa hin beekan;
isaan si'achi gatii hin qaban;
yaadannoon isaanii iyyuu ni irraanfatama.
6 Jaalalli isaanii, jibbi isaaniitii fi
hinaaffaan isaanii erga badee tureera;
isaan waan aduudhaa gaditti ta'u kam iyyuu keessatti
lammata qooda hin qabaatan.
7 Sababii Waaqni waan ati hojjettetti gammadeef dhaqiitii nyaata kee gammachu-
udhaan nyaadhu; daadhii wayinii keetiis garaa gammadduun dhugi. 8 Yeroo hunda
uffata adii uffadhu; zayitiinis mataa kee irraa hin dhabamin. 9 Bara jireenyaa kan
faayidaa hin qabne, kan Waaqni aduudhaa gaditti siif kenne kana hunda bara kee kan faayidaa hin qabne hunda keessatti haadha manaa kee kan jaallattu wajjin gammachuudhaan jiraadhu. Jireenyaa fi hojii ati aduudhaa gaditti itti dadhabde
sanaaf qoodni kee kanumaatii. 10 Waan harki kee hojjechuu danda'u hunda humna
kee guutuudhaan hojjedhu; awwaala ati itti deemuuf jirtu keessa hojiin yookaan yaadni yookaan beekumsi yookaan ogummaan hin jiruutii.
11 Ani aduudhaa gaditti waan biraa argeera:
Fiigichi warra saffisaniif
yookaan lolli irree jabeeyyiif miti;
yookaan nyaanni ogeeyyiif
yookaan qabeenyi hubattootaaf
yookaan fudhatama argachuun beektotaaf miti;
yeroo fi carraan hunda isaanii argata.
12 Namni tokko iyyuu yeroon isaa yoom akka ta'e hin beeku:

Akkuma qurxummiin kiyyoo hamaadhaan qabamu,
yookaan akkuma simbirri kiyyoodhaan qabamtu sana
namoonnis bara hamaa
akkuma tasaa isaanitti dhufuun qabamu.

### *Gowwummaa Irra Ogummaa Wayya*

13 Ani amma illee fakkeenya ogummaa kan akka malee na dinqisiise kana aduudhaa
gaditti nan arge: 14 Magaalaa xinnoo namoonni muraasni keessa jiraatan tokkotu
ture. Mootiin jabaan tokkos isheetti ba'ee marse; koobii biyyoo guddaa naannessee
itti ijaare. 15 Yeroo sanatti hiyyeessa ogeessa tokkotu magaalaa sana keessa jiraachaa
ture; innis ogummaa isaatiin magaalattii baraare. Namni tokko iyyuu garuu
hiyyeessa sana hin yaadanne. 16 Kanaafuu ani, "Jabina irra ogummaa wayya" nan
jedhe. Ogummaan hiyyeessa sanaa garuu ni tuffatame; dubbiin isaas fudhatama hin
arganne.

17 Iyya bulchaa gowwootaa irra
hasaasa ogeessaatu dhaga'ama.
18 Meeshaalee waraanaa irra ogummaa wayya;
cubbamaan tokko garuu waan gaarii hedduu balleessa.

## 10

1 Akkuma tisiisni duute tokko shittoo ajeessitu sana
gowwummaan xinnoon ogummaa fi ulfina balleessa.
2 Yaadni ogeessaa karaa mirgaa,
yaadni gowwaa immoo karaa bitaa jira.
3 Gowwaan yoo karaa deemu illee qalbii hin qabu;
akka gowwaa ta'es nama hundatti argisiisa.
4 Yoo dheekkamsi bulchaa tokkoo sitti hammaate,
ati iddoo kee gad hin dhiisin;
tasgabbaa'uun dogoggora guddaa hambisuu danda'aatii.

5 Hamminni ani aduudhaa gaditti arge tokko jira;
kunis dogoggora bulchaan tokko uumuu dha.
6 Utuma badhaadhonni iddoo gad aanu qabatanii jiranuu,
gowwoonni iddoo ulfinaa qabatu.
7 Ani utuma ilmaan mootota akka garbootaa miillaan deemanii
garboonni immoo fardaan utuu deemanii nan arge.

8 Namni boolla qotu kam iyyuu ofuma isaatii keessa bu'a;
nama dallaa cabsee keessaan ba'u kam iyyuu bofatu idda.
9 Namni dhagaa baasu kam iyyuu dhagaa sanaan miidhamuu danda'a;
namni jirma baqaqsu hundinuus jirmuma sanaan miidhama.

10 Qottoon doomee
afaan isaa yoo hin qaramin,
humna guddaa barbaachisa;
ogummaan garuu milkaa'inna fida.

11 Bofti tokko utuu hin raateffamin yoo nama idde,
namichi bofa raatessu sun homaa hin argatu.

12 Dubbiin afaan ogeessaatii ba’u ulfina qaba;
namni gowwaan immoo hidhii ofii isaatiin bada.
13 Dubbiin isaa jalqabatti gowwummaa dha;
dhuma irratti garuu maraatummaa hamaa dha;
14 namni gowwaan dubbii baay’isa.

Namni tokko iyyuu waan dhufuuf jiru hin beeku;
eenyutu waan isa duubaan ta’u isatti himuu danda’a?

15 Dadhabbiin gowwaa isuma butuchiti;
inni karaa gara magaalaatti geessu hin beeku.

16 Yaa biyya mootiin kee mucaa turee,
kan ilmaan moototaa kee ganamaan nyaatanii dhugan siif wayyoo.
17 Yaa biyya mootiin kee sanyii beekamaa irraa dhalate,
kan ilmaan moototaa utuu machaa’uuf hin ta’in,
jabina argachuuf jedhanii yeroo malutti nyaatanii dhugan,
ati eebbifamtuu dha.

18 Dhibaa’ummaan, mana duuffisa;
harki hin hojjennes mana dhimmisiisa.

19 Cidhi kolfaaf qopheeffama;
daadhiin wayiniis jireenya gammachiisa;
maallaqni immoo deebii waan hundaa ti.

20 Sababii simbirri samii dubbii kee geessituuf,
yookaan simbirri barrisaa jirtu dhaqxee waan ati jettu himtuuf,
ati yaada kee keessatti mootii hin arrabsin;
yookaan kutaa hirribaa keessatti sooressa hin abaarin.

# 11

### *Buddeena Bishaan Irraa*

1 Buddeena kee bishaan gubbaa buusi;
guyyaa baay’ee booddee deebiftee argattaatii.
2 Qabeenya kee iddoo torbatti yookaan saddeetitti qoodi;
balaa biyyatti dhufuuf jiru hin beektuutii.

3 Duumessi yoo bishaaniin guutame,
bokkaa lafatti gad dhangalaasa.
Mukni tokko yoo kibbatti yookaan kaabatti jige,
idduma itti kufe sana ciisa.
4 Namni qilleensa eeggatu tokko hin facaafatu;
kan duumessa ilaallatus hin haammatu.

5 Ati akkuma daandii bubbee,
yookaan akka itti namni gadameessa haadhaa keessatti uumamu
hin beekne sana,
hojii Waaqaa, Uumaa waan hundaa sana illee
beekuu hin dandeessu.

6 Inni kun yookaan inni sun,
yookaan lachanuu wal qixxee tolu;
inni kam akka tolu hin beektuutii;
ati sanyii kee ganamaan facaafadhu;
galgalas harki kee hojii malee hin taa'in.

### *Dargaggummaatti Uumaa kee Yaadadhu*

7 Ifni mi'aawaa dha;
aduu arguunis ija gammachiisa.
8 Namni yoo hammam waggoota baay'ee jiraate illee,
inni hunduma isaatti gammadaa haa jiraatu.
Garuu inni guyyoota dukkanaa haa yaadatu;
isaan ni baay'atuutii.
Wanni dhufuuf jiru hundinuu faayidaa hin qabu.

9 Yaa dargaggeessa, hamma dargaggummaa keessa jirtutti gammadi;
bara dargaggummaa keetii keessas garaan kee si haa gammachiisu.
Yaada garaa keetii, waanuma iji kee argu duukaa bu'i;
garuu akka Waaqni waan kana hundaaf
gara murtiitti si fidu beekkadhu.
10 Kanaafuu garaa kee keessaa yaaddoo balleessi;
sababii dargaggummaa fi jabinni faayidaa hin qabneef
dhagna kee keessaa hammina baasii gati.

## 12

1 Utuu guyyaan rakkinaa hin dhufin,
utuu barri ati itti, "Ani itti hin gammadu" jettu hin ga'in,
bara dargaggummaa keetii keessa Uumaa kee yaadadhu;
2 utuu aduu fi ifni,
ji'ii fi urjiin hin dukkanaa'in,
utuu duumessi bokkaatti aanee hin deebi'in,
3 yeroo itti eegdonni manaa hollatanii
namoonni jajjaboon immoo gugguufanitti,
yeroo itti warri midhaan daakan sababii muraasa ta'aniif
hojii dhiisanii,
kanneen foddaa keessaan ilaalan arguu dadhabanitti,
4 yeroo itti balballi daandii guddaatti geessu cufamee
sagaleen dhagaa daakuu immoo gad bu'aa deemutti,
yeroo itti namni waca simbirrootiin dammaqee
sirbi ishee hundi garuu gad bu'aa deemutti,
5 yeroo itti namni lafa ol dheeraa fi
balaa daandii irraa sodaatu,
yeroo itti mukni lawuzii daraaru,
yeroo itti korophisni tiratuu fi
hawwiin nama keessaa badutti Uumaa kee yaadadhu.
Ergasii namni mana isaa bara baraatti gala;
warri boo'anis daandii irra deddeebi'u.

6 Utuu funyoon meetii hin citin,
yookaan utuu waciitiin warqee hin cabin isa yaadadhu;
utuu okkoteen burqaa biratti hin caccabin,

yookaan utuu geengoon ittiin bishaan warraaban
boolla bishaanii biratti hin cabin,
7 utuu biyyoon lafa turetti hin deebi'in,
utuu hafuurris Waaqa isa kennetti hin deebi'in isa yaadadhu.

8 Lallabaanis, "Wanni hundi faayidaa hin qabu!
Faayidaa hin qabu! Wanni hundi faayidaa hin qabu!" jedha.

*Xumura Dubbii*

9 Lallabaan sun ogeessa qofa utuu hin ta'in beekumsas namaaf ni qooda ture. Inni
itti yaadee, qoratee fakkeenya baay'ee tartiibaan kaa'eera. 10 Lallabaan kun jecha
sirrii argachuuf jedhee qorate; wanni inni barreesses qajeelaa fi dhugaa dha.
11 Dubbiin ogeessaa akkuma meeshaa ittiin loon oofanii ti; jechi isaa kan walitti
qabames akkuma mismaara jabeeffamee rukutamee ti; kanas tiksee tokkotu kenne.
12 Yaa ilma ko, waan kana irraa hafe hunda of eeggadhu.

Kitaaba hedduu barreessuun hojii dhuma hin qabnee dha; qu'annaan baay'eenis nama dadhabsiisa.

13 Amma wanni hundinuu dhaga'ameera;
dhumni dubbii kunoo ti;
Waaqa sodaadhuutii seera isaa eegi;
wanni namni hojjechuu malu guddaan isa kanaatii.
14 Waaqni hojii hunda,
waan dhokfame hundas
gaarii yookaan hamaa taanaan murtiitti dhi'eessaatii.

# Weedduu Weeddotaa

1 Weedduu Weeddotaa Solomoon.
*Ishee*
2 Inni dhungoo afaan isaatiin na haa dhungatu;
jaalalli kee daadhii wayinii caalaatii.
3 Urgaan shittoo keetii namatti tola;
maqaan kee akkuma shittoo dhangalaafamee ti.
Kanaafuu dubarran si jaallatu!
4 Na fudhadhuu deemi; si duukaa fiignaa!
Mootichi diinqa isaatti ol na galfate.
*Michoota*
Nu sitti gammannee ililchina;
jaalala kees daadhii wayinii caalaa jajanna.
*Ishee*
Si jaallachuun isaanii akkam sirrii dha!

5 Intallan Yerusaalem,
ani akkuma dunkaana Qeedaar,
akkuma golgaa dunkaana Solomoonis gurraattii dha;
garuu bareedduu dha.
6 Sababii ani gurraattii ta’eef, ija babaaftee na hin ilaalin;
aduutu na gurraachesseetii.
Ilmaan haadha koo natti aaranii
akka ani iddoo dhaabaa wayinii eegu na taasisan;
ani garuu iddoo dhaabaa wayinii koo hin eegganne.
7 Yaa isa ani si jaalladhu,
iddoo bushaayee kee tikfattuu fi
iddoo itti guyyaa saafaa hoolota kee boqochiifattu natti himi.
Ani maaliifan akka dubartii fuula ishee haguugattee
bushaayee michoota keetii bira asii fi achi joortu tokkoo ta’a?
*Michoota*
8 Yaa dubartii dubartoota hunda caalaa bareeddu,
ati yoo beekuu baatte hoolota duukaa bu’i;
ilmoolee re’oota keetiis
dunkaana tiksootaa bira tikfadhu.
*Isa*
9 Yaa jaalallee ko, ani akka farda dhalaa
fardeen gaarii Fara’oon harkisan keessaa tokkootti sin ilaala.
10 Maddiin kee amartii gurraatiin,
mormii kees dirata warqeetiin miidhagfameera.
11 Nu warqee gurraa
meetiidhaan wal make siif tolchina.
*Ishee*
12 Utuma mootichi maaddiitti dhi’aatee jiruu
shittoon koo urgaa isaa kenne.
13 Michuun koo anaaf korojoo qumbii ti;
inni guntuta koo gidduu boqota.
14 Michuun koo anaaf hurbuu daraaraa heennaa

kan iddoo dhaabaa wayinii Een Gaadiitii dhufee dha.

*Isa*

15 Yaa jaalallee ko, ati akkam bareedda!
Dinqii akkam bareedda!
Iji kee gugee fakkaata.

*Ishee*

16 Yaa michuu ko, ati akkam miidhagda!
Dinqii akkam namatti tolta!
Margi lalisaan siree keenya.

*Isa*

17 Dareersumaan mana keenyaa birbirsa;
dagaleen isaa immoo gaattiraa dha.

# 2

*Ishee*

1 Ani daraaraa Shaaroon;
daraaraa sulula keessaa ti.

*Isa*

2 Jaalalleen koo dubarran kaan gidduu ti
akkuma daraaraa qoraattii keessaa ti.

*Isa*

3 Michuun koo dargaggoota gidduutti
akkuma muka hudhaa kan mukkeen bosonaa keessa jiruu ti.
Ani gaaddisa isaa jala taa'uu nan jaalladha;
iji isaas natti mi'aawa.
4 Inni galma cidhaatti na geesse;
akeekni inni naaf qabu jaalala.
5 Sababii ani jaalalaan gaggabeef
isin bixxillee wayiniitiin na jajjabeessaa;
muka hudhaatiinis na haaromsaa.
6 Harki isaa bitaa mataa koo jala jira;
harki isaa mirgaa immoo na hammata.
7 Yaa intallan Yerusaalem,
ani kuruphee fi borofaan isin kakachiisa;
hamma isheen ofumaan feetee kaatutti
jaalala hin tuttuqinaa yookaan hin dadammaqsinaa.

8 Sagaleen michuu kootii, tulluuwwan irra utaalee
gaarran irras qaari'ee dhufaa jira.
9 Michuun koo akkuma kuruphee yookaan korma gadamsaa ti.
Kunoo inni dallaa keenya duuba dhaabatee
foddaa keessaan ilaalaa
qaawwa keessaanis mimil'achaa jira.
10 Michuun koo dubbatee akkana naan jedhe;
"Yaa miidhagduu koo ka'i!
Bareedduu koo kottuu na wajjin deemi.
11 Kunoo! Ganni darbeera;
bokkaanis caamee sokkeera.
12 Daraaraan lafa irratti mul'ateera;
waqtiin sirbaa ga'eera;
wacni gugees
biyya keenya keessatti dhaga'amaa jira.
13 Mukni harbuu ija jalqabaa baasuu jalqabeera;

wayiniin daraares urgaa kenneera.
Yaa miidhagduu ko, ka'ii kottu;
yaa bareedduu koo na wajjin deemi."

*Isa*

14 Gugee koo kan holqa dhagaa keessaa,
kan iddoo dhoksaa tulluu cinaa keessaa,
mee fuula kee na argisiisi;
mee sagalee kee na dhageessisi;
sagaleen kee mi'aawaadhaatii;
fuulli kees namatti tola.
15 Mee waangoo,
waangoodhuma xixinnoo ishee
kanneen iddoo dhaabaa wayinii balleessitu nuuf qabaa;
iddoon dhaabaa wayinii keenyaa daraaraa jiraatii.

*Ishee*

16 Michuun koo kanuma koo ti; anis kan isaa ti;
inni daraaraa keessa dheechifata.
17 Yaa michuu ko,
hamma bari'ee gaaddisni baddutti deebi'i;
akkuma kuruphee yookaan akkuma korma gadamsaa
kan tulluuwwan irra jiruus ta'i.

# 3

1 Ani halkan guutuu siree koo irra ciisee
nama garaan koo jaallatu sana nan barbaade;
ani isa nan barbaade; garuu isa hin arganne.
2 Ani amma ka'een magaalaa keessa,
daandiiwwanii fi oobdiiwwan irra nan deema;
nama garaan koo jaallatu sana nan barbaada.
Kanaafuu ani isa nan barbaade;
garuu isa hin arganne.
3 Eegdonni utuu magaalaa keessa naanna'anuu na argan;
anis, "Michuu koo argitanii?"
jedheen isaan gaafadhe.
4 Ani akkuman xinnoo isaan bira darbeen,
nama lubbuun koo jaallattu sana nan argadhe.
Anis isa nan qabadhe; hamman mana haadha kootti,
diinqa haadha koo ishee garaatti na baatte sanaatti
ol galchutti gad isa hin dhiisne.
5 Yaa intallan Yerusaalem,
ani kuruphee fi borofaan isin kakachiisa;
hamma isheen ofumaan feetee kaatutti,
jaalala hin tuttuqinaa yookaan hin dadammaqsinaa.

6 Isheen qumbii fi ixaana
urgooftuu daldaltootaa hunda irraa hojjetameen urgeeffamtee
akkuma utubaa aaraa
gammoojjii keessaa ol baatu kun eenyu?
7 Kunoo! Siree Solomoon kan loltoota jaatama
warra Israa'el keessaa bebeekamoo ta'aniin marfamteerti.
8 Hundi isaanii goraadee hidhatu;

hundinuu muuxannoo waraanaa qabu;
tokkoon tokkoon isaanii goraadee isaanii
luqqeettuutti hidhatanii lola halkaniitiif qophaa’an.
9 Solomoon mootichi ofii isaatii gaarii tolfate;
innis muka Libaanoon irraa tolfate.
10 Inni utubaa isaa meetiidhaan hojjete;
jala isaa garuu warqeedhaan hojjete.
Teessoon isaa kirrii diimaa dhiilgeedhaan hojjetame;
keessi isaas jaalala intallan Yerusaalemiitiin bareechamee hojjetame.
11 Yaa intallan Xiyoon gad ba’aatii Solomoon Mooticha ilaalaa;
inni gonfoo haati isaa gaafa fuudha isaa,
guyyaa garaan isaa gammadetti,
mataa isaa irra keesseef sana kaa’ateera.

# 4

*Isa*

1 Yaa bareedduu ko, ati akkam miidhagda!
Dinqii ati akkam bareedda!
Iji kee haguuggii kee duubaan gugee fakkaata.
Rifeensi mataa keetii akkuma karra re’ootaa
kan gaara Gili’aad irraa gad bu’uu ti.
2 Ilkaan kee akkuma karra hoolotaa kan rifeensi irraa haadamee
dhiqamee ol dhufaa jiruu ti.
Tokkoon tokkoon isaanii lakkuu qabu;
isaan keessa maseenni tokko iyyuu hin jiru.
3 Hidhiin kee akkuma kirrii bildiimaa ti;
haasaan kee namatti tola.
Maddiin kee lamaan haguuggii kee keessatti
roomaanii tokkicha iddoo lamatti qoodame fakkaata.
4 Mormi kee gamoo Daawit
kan mi’a lolaa itti kuusuuf ijaarame sana fakkaata;
isa irratti gaachana kumatu rarraafama;
hundinuu gaachana loltootaa ti.
5 Guntunni kee lamaan akkuma ilmoolee kuruphee
kanneen lakkuu dhalatanii daraaraa keessa dheedanii ti.
6 Hamma bari’ee gaaddisni baduutti,
ani gara tulluu qumbiitii fi gara gaara ixaanaa nan dhaqa.
7 Yaa jaalallee ko, ati guutumaan guutuutti bareedduu dha;
ati mudaa tokko illee hin qabdu.

8 Yaa misirrittii ko, Libaanoonii na wajjin kottu;
Libaanoonii na wajjin kottu.
Fiixee Amaanaa irraa,
fiixee Seniir, fiixee Hermoon irraa gad bu’i;
holqa leencaa keessaa,
tulluu oolmaa qeerransaa irraas gad bu’i.
9 Yaa obboleettii ko, yaa misirrittii ko, ati qalbii koo hatteerta;
ati mil’uu ija keetii tokkoon,
faaya morma keetii tokkoon qalbii koo hatteerta.
10 Yaa obboleettii ko, yaa misirrittii ko,
jaalalli kee akkam nama gammachiisa!
Jaalalli kee daadhii wayinii caalaa, urgaan shittoo keetiis

urgooftuu kam iyyuu caalaa akkam namatti tola!
11 Yaa misirrittii ko,
hidhiin kee akkuma dhaaba dammaa nadhii coccobsa;
aannanii fi dammi arraba kee jala jira.
Urgaan uffata keetii
akkuma urgaa Libaanoon.
12 Yaa obboleettii ko, yaa misirrittii ko,
ati akkuma iddoo biqiltuu cufamee ti;
ati burqaa dallaan itti ijaaramee fi madda chaappaan cufamee dha.
13 Biqiltuun kee iddoo roomaanii
kan ija filatamaa heennaa fi naardoos qabuu dha;
14 akkasumas naardoosii fi marga urgaa'u,
qundhii fi qarafaa, muka ixaanaa gosa garaa garaa,
qumbii, argeessaa fi urgooftuu akka malee gaarii hunda qaba.
15 Ati burqaa biqiltuu keessaa ti;
bishaan boollaa yaa'u
kan Libaanoon irraa gad dhangala'uu dha.

*Ishee*

16 Yaa bubbee kaabaa dammaqi;
bubbeen kibbaas kottu!
Akka urgaan isaa naannoo hunda waliin ga'uuf
biqiltuu koo irratti bubbisi.
Michuun koo dhufee, biqiltuu seenee
ija filatamaa haa nyaatu.

# 5

*Isa*

1 Yaa obboleettii ko, misirrittii ko,
ani dhufee biqiltuu koo seeneera;
ani qumbii koo urgooftuu koo wajjin walitti qabadheera.
Ani dhaaba damma koo nadhii isaa wajjin nyaadheera;
daadhii wayinii koos aannan koo wajjin dhugeera.

*Michoota*

Yaa michoota, nyaadhaa dhugaa;
jaalalas dhugaa quufaa.

*Ishee*

2 Ani rafeera; garaan koo garuu dammaqeera.
Mee dhaggeeffadhaa! Michuun koo balbala rurrukutaa jiraatii;
inni akkana jedha; "Yaa obboleettii ko, miidhagduu ko,
gugee koo kan mudaa hin qabne, balbala naaf bani.
Mataan koo fixeensaan,
rifeensi koos jiidha halkaniitiin tortoreera."
3 Ani uffata koo of irraa baaseera;
akkamittan deebisee uffadha ree?
Miilla koo dhiqadheera;
akkamittan deebisee xureessa ree?
4 Michuun koo qaawwa balbalaatiin harka galche;
lapheen koo isaaf ni dha'ate.
5 Ani michuu kootiif balbala banuuf nan ka'e;
qabannoo balbalaa irrattis harka koo irraa qumbiin,
quba koo irraa immoo qumbiin dhangala'aan coccobe.
6 Ani michuu kootiif balbala nan bane;

michuun koo garuu achi hin jiru; inni deemeera.
Deemuu isaattis garaan koo ni rifate.
Ani isa nan barbaade; garuu hin arganne.
Ani isa nan waame; inni garuu hin owwaanne.
7 Eegdonni utuu magaalaa keessa naanna'anuu na argan.
Isaanis na reebanii na madeessan;
warri dallaa eegan sunis wayyaa koo narraa baafatan!
8 Yaa intallan Yerusaalem,
isin michuun koo yoo argitan
jaalalaan dhukkubsachuu koo akka
isatti naaf himtan isinan kakachiisa.

*Michoota*

9 Yaa ishee dubartoota hunda caalaa bareeddu,
michuun kee maaliin warra kaan caala?
Ati kan akkas nu kakachiiftu,
michuun kee maaliin warra kaan caala?

*Ishee*

10 Michuun koo diimaa cululuqaa dha;
inni namoota kuma kudhan keessaa ni mul'ata.
11 Mataan isaa warqee akka malee qulqulluu dha;
rifeensi mataa isaa jigaa dha;
akkuma arraagessaas gurraacha.
12 Iji isaa akkuma gugee burqaa bishaanii biraa
kan aannaniin dhiqamee akka faayaatti kaa'atamuu dha.
13 Maddiin isaa akkuma madabii biqiltuu urgooftuu kan shittoo baasuu ti.
Hidhiin isaa akkuma daraaraa qumbiin irraa coccobuu ti.
14 Harki isaa ulee warqee
kan biiraleedhaan faayeffamee dha.
Dhagni isaa akkuma ilka arbaa
kan sanpeeriin miidhagfamee dha.
15 Miilli isaa utubaa dhagaa adii
kan baattuu warqee qulqulluu irraa hojjetame irra dhaabamee dha.
Bifti isaa akkuma Libaanoon,
akkuma birbirsaa Libaanoon filatamaa dha.
16 Dubbiin isaa waan hunda caalaa mi'aawaa dha;
inni guutumaan guutuutti namatti tola.
Yaa intallan Yerusaalem,
kun michuu koo ti; kun michuu koo ti.

# 6

*Michoota*

1 Yaa ishee dubartoota hunda caalaa bareeddu,
michuun kee eessa dhaqe?
Akka nu si wajjin barbaannuuf
michuun kee garamitti gore?

*Ishee*

2 Michuun koo iddoo biqiltuu keessa
hoolota isaa tikfachuu fi
daraaraa walitti qabachuuf jedhee gara iddoo biqiltuu,
lafa madabiin biqiltuu urgooftuuwwanii jirutti gad bu'eera.
3 Ani kan michuu koo ti; michuun koos kanuma koo ti;
inni daraaraa keessa dheechifata.

*Isa*

4 Yaa jaalallee ko, ati akkuma Tiirzaa bareedduu dha;
akkuma Yerusaalem namatti tolta;
akkuma loltoota faajjii baataniis ulfina qabda.
5 Ija kee narraa buqqisi;
inni na jeeqeeraatii.
Rifeensi mataa keetii akkuma karra re'oota
Gili'aad irraa gad bu'anii ti.
6 Ilkaan kee akkuma karra hoolotaa
kan dhiqamee ol dhufaa jiruu ti.
Tokkoon tokkoon isaanii lakkuu qabu;
isaan keessa maseenni tokko iyyuu hin jiru.
7 Maddiin kee lamaan haguuggii kee keessatti
roomaanii tokkicha iddoo lamatti qoodame fakkaata.
8 Mootittiiwwan jaatamni,
saajjatoon saddeettamnii fi
dubarran lakkoobsa hin qabne qulqulluun
jiraachuu danda'u;
9 gugeen koo kan mudaa tokko iyyuu hin qabne sun kan addaa ti;
isheen haadha isheetiif intala tokkittii dha;
haadha ishee deesseefis filatamtuu dha.
Dubarran ishee arganii ishee eebbisan;
mootittiiwwanii fi saajjatoowwanis ishee jajan.

*Michoota*

10 Kan akka boruu baqaquutti mul'attu,
kan akka ji'aa bareeddu, kan akka biiftuu iftu,
kan akka urjiiwwan tooraan yaa'anii ulfina qabdu kun eenyu?

*Isa*

11 Anis daraaraa sulula keessatti dhi'oo biqile arguuf,
akka wayiniin hudhaa baase
yookaan akka roomaaniin daraare ilaaluuf
gara lafa qotiisaa ocholooniitti gad nan bu'e.
12 Utuu ani hin hubatin,
lubbuun koo gaarii mootii saba kootii keessa na teessiste.

*Michoota*

13 Yaa Sulaamaaxittii deebi'i; deebi'i;
akka nu si ilaalluuf deebi'i; deebi'i!

*Isa*

Isin akkuma nama sirba Mahanayiim ilaaluutti
maaliif Sulaamaaxittii ilaaltu?

# 7

1 Yaa intala ilma mootii,
miilli kee kophee keessatti akkam bareeda!
Gudeedni kee miidhagaan sun dooqa gatii guddaa
kan ogeessi hojii harkaa tolche fakkaata.
2 Handhuurri kee xoofoo geengoo
kan takkumaa daadhiin wayinii wal makaan keessaa
hin dhabamin fakkaata.
Mudhiin kee immoo tuullaa qamadii
kan daraaraadhaan marfame fakkaata.
3 Guntunni kee lamaan akkuma ilmoolee kuruphee
kanneen lakkuu dhalatanii ti.

4 Mormi kee gamoo ilka arbaa fakkaata.
Iji kee haroo Heshboon
kan karra Baatrabii biraa fakkaata.
Funyaan kee gamoo Libaanoon
kan gara Damaasqoo gad ilaalu fakkaata.
5 Mataan kee akkuma Tulluu Qarmeloos gonfoo siif ta'a.
Rifeensi mataa keetii afaa mana mootii fakkaata;
mootiin dheerina isaatiin qabamee booji'ama.
6 Yaa jaalallee ati gammachuu kee wajjin
akkam bareedda; akkamis namatti tolta!
7 Dhaabni kee dhaaba meexxii fakkaata;
guntunni kees hurbuu ijaa fakkaata.
8 Anis, "Muka meexxii kana nan yaabbadha;
ija isaa nan qabadha" nan jedhe.
Guntunni kee akkuma hurbuu wayinii,
urgaan hafuura keetii akkuma urgaa hudhaa ti;
9 afaan kees akkuma daadhii wayinii kan akka malee gaarii ta'ee ti.
*Ishee*
Daadhiin wayinii suutumaan hidhii fi
ilkaan irra gad yaa'ee gara michuu koo haa dhaqu.
10 Ani kan michuu koo ti;
hawwiin isaas anumaaf.
11 Yaa michuu ko, kottu mee gara baadiyyaa haa deemnu;
gandoota achii keessa haa bullu.
12 Akka mukni wayinii hudhaa baafate,
akka daraaraan ija banatee fi
akka roomaaniin daraare ilaaluuf ganama bariin kaanee
gara iddoo dhaabaa wayinii haa deemnu;
anis achitti jaalala koo siif nan kenna.
13 Hudhaan urgaa isaa gad dhiisa;
yaa michuu ko, wanni ani siif kuuse,
haaraa fi moofaanis wanni filatamaan hundi
balbala keenya dura jira.

# 8

1 Utuu ati akka obboleessa koo
kan harma haadha koo hodhee guddatee naa taatee!
Ani yoon alatti si arge sin dhungadhan ture;
namni tokko iyyuu na hin tuffatu.
2 Anis si dura deemee mana haadha koo
ishee na barsiifte sanaatti sin geessa ture.
Akka ati dhugduufis daadhii wayinii kan mi'eeffame
cuunfaa roomaanii koos siifin kenna ture.
3 Harki isaa bitaa mataa koo jala jira;
harki isaa mirgaa immoo na hammata.
4 Yaa intallan Yerusaalem, ani isin kakachiisa;
hamma isheen ofumaan feetee kaatutti
jaalala hin tuttuqinaa yookaan hin dadammaqsinaa.
*Michoota*
5 Kan michuu isheetti irkattee
gammoojjii keessaa ol dhufaa jirtu kun eenyu?
*Ishee*

Ani muka hudhaa jalatti sin kakaase;
haati kee achitti si ulfoofte;
achumattis ciniinsifattee si deesse.
6 Akkuma chaappaatti laphee kee irra,
akkuma chaappaatti irree kee irra na kaa'adhu;
jaalalli akkuma du'aa jabduudhaatii;
hinaaffaan isaas akkuma awwaalaa hamaa dha.
Inni akkuma ibidda balali'uu,
akkuma arraba ibidda jabaa boba'a.
7 Bishaan baay'een jaalala dhaamsuu hin danda'u;
lagnis dhiqee isa balleessuu hin danda'u.
Namni tokko qabeenya mana isaa hunda
yoo jaalalaaf kenne
qabeenyi sun guutumaan guutuutti ni tuffatama.

*Michoota*

8 Nu obboleettii xinnoo tokko qabna;
isheen guntuta iyyuu hin baafne.
Guyyaa isheen heerumaaf kadhatamtutti
nu obboleettii keenyaaf maal goona?
9 Utuu isheen dallaa dhagaa taatee
nu silaa gamoo meetii ishee irratti ijaarra ture.
Utuu isheen balbala taatee
nu silaa birbirsaan ishee marsina.

*Ishee*

10 Ani dallaa dhagaa ti;
guntunni koos akkuma gamoo ti.
Kanaafuu ani fuula isaa duratti
akkuma nama nagaa fidu tokkootti nan ilaalaman ture.
11 Solomoon Ba'aal Haamoon keessaa iddoo dhaabaa wayinii qaba ture;
innis iddoo dhaabaa wayinii ofii isaa qottuuwwanitti kiraa kennate.
Tokkoon tokkoon isaaniis ija argatan irraa
meetii saqilii kuma tokko fiduufii qabu ture.
12 Iddoon dhaabaa wayinii kootii, kanuma koo ti;
yaa Solomoon, saqiliin kumni sun sumaaf;
dhibbi lama immoo kan warra ija isaa eeganii ti.

*Isa*

13 Yaa ishee iddoo biqiltuu keessa jiraattu,
michoonni sagalee kee dhaggeeffachaa jiru;
mee anis nan dhaga'a!

*Ishee*

14 Yaa michuu ko, dafii kottu;
akka kuruphee
yookaan akka korma gadamsaa
kan gaara urgooftuu irra burraaquu ta'i.

# Raajii Isaayyaas

1 Mul'ata Isaayyaas ilmi Amoos bara bulchiinsa Uziyaan, bara Yootaam, bara
Aahaazii fi bara Hisqiyaas keessa waa'ee Yihuudaatii fi Yerusaalem arge.

*Saba Fincilaa Tokko*

2 Yaa Samiiwwan dhaga'aa! Yaa lafa dhaggeeffadhu!
WAAQAYYO akkana jedhee dubbateeraatii:
"Ani ijoollee horadheen guddifadhe;
isaan garuu natti fincilaniiru.
3 Qotiyyoon gooftaa isaa,
harreenis gola gooftaa isaa ni beeka;
Israa'el garuu hin beeku;
sabni koo hin hubatu."

4 Yaa saba cubbamaa,
uummata balleessaan itti baay'ate,
ilmaan warra waan hamaa hojjetuu,
ijoollee xuraa'ummaadhaan guutamte isiniif wayyoo!
Isaan WAAQAYYOON dhiisaniiru;
Qulqullicha Israa'el sana tuffatanii
dugda isaanii itti garagalfataniiru.

5 Isin si'achi maaliif rukutamtu?
Maaliif fincila keessa jiraatu?
Mataan keessan guutuun miidhameera;
garaan keessan guutuunis dadhabeera.
6 Faana miilla keessaniitii hamma gubbee mataa keessaniitti,
fayyaa hin qabdan;
madaa fi dirmammuun, madaan dhiigu,
kan hin qulqulloofne yookaan hin maramne
yookaan zayitiidhaan hin laafne.

7 Biyyi keessan duwwaa hafteerti;
magaalaawwan keessan ibiddaan gubamaniiru;
alagoonni fuuluma keessan duratti
lafa qotiisaa keessan saamu;
akkuma waan ormi ishee saameettis onti.
8 Intalli Xiyoon akkuma da'annoo iddoo
dhaabaa wayinii keessaatti,
akkuma daasii lafa qotiisa buqqee keessaatti,
akkuma magaalaa marfame tokkootti dhiifamti.
9 Utuu WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
hambaa muraasa nuuf hambisuu baatee,
nu silaa akkuma Sodoom taanee,
Gomoraas fakkaanna turre.

10 Yaa bulchitoota Sodoom

dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa;
yaa saba Gomoraa,
Seera Waaqa keenyaa dhaggeeffadhaa!
11 WAAQAYYO akkana jedha;
“Baay’inni aarsaa keessanii anaaf maali?”
Ani aarsaa gubamu kan korbeeyyii hoolaatii fi
horii gabbifamanii baay’een qaba;
ani dhiiga korommii looniitti,
kan xobbaallaawwan hoolaattii fi re’eetti hin gammadu.
12 Isin yommuu fuula koo duratti mul’achuuf dhuftan,
akka oobdii koo dhidhiittan
eenyutu isin irraa barbaade?
13 Kennaa faayidaa hin qabne fiduu dhiisaa!
Ixaanni keessan na jibbisiisa.
Ayyaana Baatii, Sanbataa fi yaa’ii keessan
jechuunis wal ga’ii keessan hamaa sana ani hin fedhu.
14 Ayyaana Baatii keessanii fi
ayyaanota keessan bebbeekamoo lubbuun koo ni jibbiti.
Isaan ba’aa natti ta’aniiru;
anis obsuu dadhabeera.
15 Yeroo isin kadhannaaf harka keessan bal’ifattan,
ani ija koo isinan dhokfadha;
yoo isin kadhaa baay’ee kadhattan illee ani hin dhaggeeffadhu.

Harki keessan dhiigaan guutameera!

16 Dhiqadhaatii of qulqulleessaa.
Hojii keessan hamaa sana fuula koo duraa balleessaa!
Yakka hojjechuus dhiisaa;
17 waan qajeelaa hojjechuu baradhaa!
Murtii qajeelaa barbaadaa;
warra hacuucame jajjabeessaa.
Ijoollee abbaa hin qabneef falmaa;
haadha hiyyeessaatiif dhaabadhaa.

18 WAAQAYYO akkana jedha;
“Kottaa wal qorraa;
cubbuun keessan yoo akka bildiimaa ta’e iyyuu,
inni addaatee akka cabbii ni ta’a;
yoo akka alalaa diimate iyyuu,
akka suufii ni addaata.
19 Isin yoo fedhii qabaattanii ajajamtan,
waan lafti baaftu filatamaa ni nyaattu;
20 garuu yoo diddanii finciltan goraadeetu isin nyaata.”
Afaan WAAQAYYOO waan kana dubbateeraatii.

21 Akka magaalaan amanamtuun sun
sagaagaltuu taate ilaalaa!
Isheen dur murtii qajeelaadhaan guutamtee
qajeelummaan ishee keessa jiraata ture;
amma immoo namoota nama ajjeesantu ishee keessa jiraata!

22 Meetiin kee ligidaa’eera;
daadhiin wayinii kee filatamaan bishaaniin makameera.
23 Bulchitoonni kee finciltoota;
michuu hattuuwwanii ti;
isaan hundinuu matta’aa jaallatu;
kennaas akka malee barbaadu.
Isaan ijoollee abbaa hin qabneef hin falman;
himata haadha hiyyeessaa hin dhaggeeffatan.

24 Kanaafuu Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u,
Jabaan Israa’el sun akkana jedha:
“Ani amajaajota koo irraa boqonnaa nan argadha;
diinota koos haaloo nan baafadha.
25 Ani harka koo sitti nan deebisa;
ligidaa’ummaa kees akka malutti sirraa nan haqa;
xurii kee hundas sirraa nan balleessa.
26 Ani akkuma bara durii abbootii murtii iddootti,
akkuma jalqabaatti gorsitoota kee illee siifin deebisa.
Ergasii ati magaalaa qajeelummaa,
magaalaa amanamtuu jedhamtee ni waamamta.”

27 Xiyoon murtii qajeelaadhaan,
qalbii jijjiirrattoonni ishee immoo qajeelummaadhaan furamu.
28 Finciltoonnii fi cubbamoonni garuu ni caccabu;
warri WAAQAYYOON dhiisanis ni badu.

29 “Isin sababii muka qilxuu itti gammaddan sanaatiif ni qaanoftu;
sababii iddoo biqiltuu filattan sanaatiif immoo ni salphattu.
30 Isin akka qilxuu baalli irraa harca’ee,
akka iddoo biqiltuu bishaan hin qabnee ni taatu.
31 Namni jabaan akkuma huubaa,
hojiin isaas akkuma qaanqee ta’a;
isaan lachuu walumaan gubatu;
namni ibidda sana dhaamsus hin jiru.”

# 2

### *Tulluu WAAQAYYOO*
*2:1-4 kwf – Mik 4:1-3*

1 Wanni Isaayyaas ilmi Amoos waa’ee Yihuudaatii fi Yerusaalem arge kanaa dha:

2 Bara dhumaa keessa,
tulluun mana qulqullummaa WAAQAYYOO
tulluuwwan hunda keessaa ol dheeratee dhaabata;
inni tulluuwwan caalaa ol ol jedha;
saboonni hundinuu gara isaatti yaa’u.
3 Namoonni baay’een dhufanii akkana jedhu;
“Kottaa gara tulluu WAAQAYYOO,
gara mana Waaqa Yaaqoob ol baanaa.
Inni akka nu daandii isaa irra deemnuuf
karaa isaa nu barsiisa.”
Seerri Xiyoon keessaa,

dubbiin WAAQAYYOO immoo
Yerusaalem keessaa ni ba'a.
4 Inni saboota gidduutti murtii kenna;
namoota hedduudhaafis ni murteessa.
Isaan goraadee isaanii tumanii maarashaa tolfatu;
eeboo isaaniis tumanii haamtuu tolfatu.
Sabni tokko saba biraatti goraadee hin luqqifatu;
yookaan lolaaf nama hin leenjifatan.

5 Yaa mana Yaaqoob,
kottaa ifa WAAQAYYOO keessa deddeebinaa.

### *Guyyaa WAAQAYYOO*

6 Kanaafuu saba kee,
mana Yaaqoob dhiifteerta.
Isaan bartee Ba'a Biiftuutiin guutamaniiru;
akkuma Filisxeemotaa falfala hojjetu;
duudhaa namoota ormaattis ni cichu.
7 Biyyi isaanii meetii fi warqeen guutamteerti;
qabeenyi isaanii dhuma hin qabu.
Biyyi isaanii fardeeniin guutamteerti;
gaariiwwan isaaniis dhuma hin qaban.
8 Biyyi isaanii waaqota tolfamoodhaan guutamteerti;
isaan hojiidhuma harka isaanii,
waanuma qubni isaanii tolcheef sagadu.
9 Kanaafuu namni gad qabama;
ilmaan namaa gad deebifamu;
ati isaaniif hin dhiisin.

10 Argamuu WAAQAYYOO isa sodaachisaa fi
surraa ulfina isaa duraa, kattaa keessa lixu;
lafa keessas dhokadhu!
11 Iji nama of tuuluu gad qabama;
of jajuun namootaas gad deebifama;
gaafas WAAQAYYO qofatu ol ol jedha.

12 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
warra of jajuu fi warra of tuulu hundaaf,
warra ol ol jedhan hundaaf guyyaa tokko qaba;
isaanis gad deebifamu.
13 Inni birbirsa Libaanoon dheeraa fi
guddaa hundaaf, qilxuu Baashaan hundaaf,
14 tulluuwwan ol dhedheeroo hundaaf,
gaarran ol dhedheeroo hundaaf,
15 gamoo gurguddaa hundaaf,
dallaa dhagaadhaan jabeeffamee ijaarame hundaaf,
16 doonii daldalaa hundaa fi waan gatii guddaa qabu hundaaf
guyyaa murteeffate tokko qaba.
17 Of tuulummaan namaa gad qabama;
of jajuun namootaas gad deebifama;
gaafas WAAQAYYO qofatu ol ol jedha;
18 waaqonni tolfamoon guutumaan guutuutti ni barbadeeffamu.

19 Namoonni yommuu inni lafa raasuuf ka'utti,
sodaachisa WAAQAYYOOTII fi
surraa isaa ulfina qabeessa sana duraa
gara holqa kattaa keessaattii fi
boolla lafa keessaatti ni baqatu.
20 Gaafas namoonni waaqota isaanii tolfamoo
kanneen waaqeffachuuf jedhanii
meetii fi warqee irraa tolfatan sana
tuqaa fi simbira halkaniitiif darbatu.
21 Isaan yommuu inni lafa raasuuf ka'utti
sodaachisa WAAQAYYOOTII fi
surraa ulfina isaa duraa gara holqa guddaa
kattaawwan keessaatii fi baqaqaa kattaatti ni baqatu.

22 Nama du'a hin oolle,
kan hafuurri isaa funyaan irra jiru abdachuu dhiisaa.
Inni maalitti lakkaa'ama?

# 3

*Murtii Yerusaalemii fi Yihuudaa Eeggatu*

1 Kunoo Gooftaan,
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
Yerusaalemii fi Yihuudaa irraa
kennaa fi gargaarsa isaa
kan midhaaniitii fi kan bishaanii hunda irraa fudhata;
2 gootaa fi loltuu,
abbaa murtiitii fi raajii,
hooda himaa fi maanguddoo,
3 ajajaa shantamaatii fi nama ulfina qabu,
gorsituu, ogeessa hojii harkaatii fi
ogeessa waa dawweessuu beeku irraa fudhata.

4 "Ani dargaggoota qondaaltota isaanii nan godha;
ijoolleen isaan bulchu."

5 Namoonni wal hacuucu;
namni tokko nama kaanitti, ollaanis, ollaa isaatti ka'a.
Dargaggeessi jaarsatti,
tuffatamaanis kabajamaatti ka'a.

6 Namni tokko mana abbaa isaatti,
obboloota isaa keessaa tokko qabee,
"Ati qoloo qabda; kanaafuu bulchaa nuuf ta'i;
tuullaa waan diigamee kanattis itti gaafatama fudhu!" jedha.
7 Inni garuu gaafas,
"Ani furmaata ta'uu hin danda'u.
Ani nyaata yookaan uffata tokko illee mana kootii hin qabu;
bulchaa sabaa na hin taasisinaa" jedhee iyya.

8 Yerusaalem gatantaraa jirti;
Yihuudaan immoo kufteerti;

dubbii isaaniitii fi gochi isaanii WAAQAYYOON mormuudhaan
ulfina argamuu isaa xureessa.
9 Haalli fuula isaanii dhugaa isaanitti ba'a;
isaan akkuma Sodoom cubbuu isaanii ifa baasu;
isaan cubbuu isaanii hin dhokfatan.
Isaaniif wayyoo!
Isaan balaa guddaa ofitti fidaniiru.

10 Akka wanni kun isaaniif tolu qajeeltotatti himaa;
isaan bu'aa hojii isaanii nyaatu.
11 Hamaadhaaf wayyoo!
Badiisni isatti ni dhufa!
Inni gatii harka isaa ni argata.

12 Dargaggoonni saba koo cunqursu;
dubartoonni isaan bulchu.
Yaa saba ko, qajeelchitoonni keessan karaa irraa isin jal'isaniiru;
isaan irraa isin gorsaniiru.

13 WAAQAYYO murtii kennuuf taa'eera;
saba isaattis muruuf ka'eera.
14 WAAQAYYO akkana jedhee
maanguddootaa fi hooggantoota saba isaatti mura:
"Kan iddoo dhaabaa wayinii kootii balleesse isin;
wanni hiyyeeyyii irraa saamame mana keessan jira.
15 Isin saba koo caccabsuun keessan,
fuula hiyyeeyyiis butuchuun keessan maal gochuu keessan?" jedha Gooftaan,
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u.

16 WAAQAYYO akkana jedha;
"Dubartoonni Xiyoon of tuulu;
isaan morma dheereffatanii yaa'u;
ijaanis ni waammatu;
faaya miilla isaanii kilillisaa cillaanfachaa deemu.
17 Kanaafuu Gooftaan mataa intallan Xiyoonitti qaaqee ni fida;
WAAQAYYO gubbee mataa isaanii moleessa."
18 Gaafas Gooftaan faaya miidhagina isaanii: albuu, marata mataa, faaya mormaa
kan baatii fakkaatu, 19 amartii gurraa, bitawoo, haguuggii fuulaa, 20 Marata mataa,
faaya miillaa, sabbata, bilqaaxxii shittoo, kudhaama, 21 qubeelaa chaappaa, amartii
funyaanii 22 wandaboo filatamaa, koofiyyaa, qoloo, korojoo harkaa, 23 of ilaaleewwan,
wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame, gonfoo dubartootaatii fi uffata mormaa isaan
irraa mulqa.
24 Qooda urgaa, ajaa;
qooda sabbataa, funyoo;
qooda mataa sirriitti dha'amee, moluu;
qooda uffata miidhagaa, wayyaa gaddaa;
qooda miidhaginaa fokkisuutu dhufa.
25 Namoonni keessan goraadeedhaan,
loltoonni keessanis lola keessatti dhumu.
26 Karri Xiyoon faarsitee boossi;
isheen ontee lafa teessi.

# 4

1 Bara sana keessa dubartoonni torba
nama tokkicha qabatanii,
"Nu nyaatuma keenya nyaanna;
uffata keenya uffanna;
garuu maqaa keetiin haa waamamnu.
Salphina keenya nurraa fageessi!" jedhuun.

### *Damee* WAAQAYYOO

2 Bara sana keessa dameen WAAQAYYOO bareedee ulfina qabaata; iji lafaas hambaa
Israa'eliif waan isaan ittiin boonanii fi ulfina ta'a. 3 Warri Xiyoon keessatti hafan,
warri Yerusaalem keessatti hambifaman, warri namoota Yerusaalem keessa jiraatan
keessatti galmeeffaman hundi qulqulloota jedhamanii ni waamamu. 4 Gooftaan xurii
dubartoota Xiyoon irraa dhiqa; inni Yerusaalem irraa hafuura murtiitii fi hafuura
ibiddaatiin dhiiga ni qulqulleessa. 5 Ergasiis WAAQAYYO guutummaa Tulluu Xiyoonii
fi warra achitti walitti qabaman hundaa irratti guyyaadhaan duumessa aaraa,
halkaniin immoo ifa arraba ibiddaa ni uuma; ulfina sana hunda irra dunkaanatu
jiraata. 6 Innis ho'a guyyaa irraa da'oo fi gaaddisa, iddoo bubbee hamaa fi bokkaa
jalaa itti baqatanii fi iddoo itti dhokatan ta'a.

# 5

### *Faarfannaa Iddoo Dhaaba Wayinii*

1 Ani naman jaalladhu sanaaf,
faarfannaa waa'ee iddoo dhaabaa wayinii isaa nan faarfadha:
Michuun koo gaara gabbataa irraa
iddoo dhaabaa wayinii qaba.
2 Innis lafa sana qotee isa irraa dhagaa balleessee
wayinii filatamaa isa irra dhaabe.
Qooxii eegumsaa isa keessatti ijaaree
boolla wayinii itti cuunfan illee qote.
Ergasii akka lafti qotiisaa sun ija gaarii kennu eeggate;
inni garuu ija hamaa qofa kenne.

3 "Yaa jiraattota Yerusaalemii fi saba Yihuudaa,
mee dubbii anaa fi iddoo dhaabaa wayinii koo
gidduu jiruuf murtii kennaa.
4 Waan ani godheef kana caalaa
wanni iddoo dhaabaa wayinii kootiif godhamuu malu maali?
Yeroo ani ija wayinii gaarii barbaadetti
inni maaliif ija hadhaa'aa qofa naqate?
5 Ani amma waanan iddoo dhaabaa wayinii koo gochuuf jiru
isinitti nan hima;
ani dallaa isaa nan diiga;
innis ni bada;
dallaa isaa dhagaa nan jigsa;
innis gad dhidhiitama.
6 Ani isa nan onsa;
mukni wayinii isaas hin qoramu yookaan lafti isaa hin qotamu.
Sokorruu fi qoraattiin achi keessatti guddata.
Ani akka bokkaan itti hin roobneef duumessa nan ajaja."

7 Iddoon dhaabaa wayinii
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu mana Israa'el;
namoonni Yihuudaa immoo
iddoo biqiltuu inni itti gammaduu dha.
Inni murtii qajeelaa barbaade;
garuu dhiiga dhangalaafamu arge;
qajeelummaa barbaade;
garuu iyya warra miidhamee dhaga'e.

*Wayyoo fi Murtii*

8 Isin warra hamma iddoon
tokko iyyuu hin hafnetti mana irratti mana,
lafa qotiisaa irratti lafa qotiisaa dabalattanii
kophuma keessan biyya keessa jiraattaniif wayyoo!
9 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u utumaa ani dhaga'uu akkana jedhee dubbate:
"Dhugumaan manneen hedduun ni onu;
manneen gurguddaanii fi babbareedoon nama keessa jiraatu dhabu.
10 Iddoo dhaabaa wayinii cimdii kudhan irraa daadhii wayinii
baadoosii tokko qofatu galfama;
sanyii qoroosii tokkoo irraa midhaan iifii tokkoo qofatu galfama."

11 Warra dhugaatii barbaachaaf ganamaan ka'an,
kanneen hamma daadhii wayiniitiin machaa'anitti
halkan dheereffataniif wayyoo.
12 Isaan cidha isaanii irratti baganaa, kiraaraa fi dibbee,
ulullee fi daadhii wayinii qabu;
garuu hojii WAAQAYYOOTIIF dhimma hin qaban;
hojii harka isaatiifis ulfina hin kennan.
13 Kanaafuu sabni koo
sababii hubannaa dhabeef booji'ama;
namoonni isaanii bebbeekamoon beelaan,
uummanni isaaniis dheebuudhaan dhumu.
14 Kanaafuu Sii'ool garaa isaa bal'ifatee
afaan ofii isaa illee hamma malee banata;
namoonni isaanii bebbeekamoonii fi uummanni isaanii
warri wacanii fi warri gammadan hundis achi keessa bu'u.
15 Kanaafuu namni gad qabama;
ilmaan namaa gad deebifamu;
iji of tuultotaas lafa ilaala.
16 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u garuu
murtii qajeelaa ofii isaatiin ol ol jedha;
Waaqni qulqulluun qajeelummaa ofii isaatiin
akka qulqulluu ta'e of argisiisa.
17 Yeroo sanatti hoolonni akkuma waan
lafa dheeda isaanii keessa jiraniitti ni dheedu;
xobbaallaawwan hoolaas iddoo sooreyyiin itti barbadaa'an keessa dheedu.

18 Warra funyoo gowwoomsaatiin cubbuu,
funyoo gaariitiinis hammina harkisan,
19 kanneen, "Waaqni haa ariifatu;
akka nu arginuuf inni hojii ofii isaa haa saffisiisu,
wanni kun haa dhi'aatu;

akka nu beeknuufis
karoorri Qulqullicha Israa'el haa dhufu"
jedhaniif wayyoo.

20 Warra hamaadhaan gaarii,
gaariidhaan immoo hamaa jedhaniif,
kanneen ifaan dukkana,
dukkanaan immoo ifa jedhaniif,
warra mi'aawaadhaan hadhaa'aa,
hadhaa'aadhaan immoo mi'aawaa jedhaniif wayyoo.

21 Warra akka yaada isaaniitti ogeeyyii,
akka ilaalcha isaaniitti immoo abshaala of se'aniif wayyoo.

22 Warra daadhii wayinii dhuguutti jabaa,
dhugaatii walitti makuuttis goota ta'aniif,
23 warra matta'aa fudhatanii yakkamaa gad lakkisaniif,
murtii nama balleessaa hin qabnee immoo jal'isaniif wayyoo.
24 Kanaafuu akkuma arrabni ibiddaa cidii lafa irraa arraabu,
akkuma okaan ibiddaan gubatee badu sana hiddi isaanii ni tortora;
daraaraan isaaniis akkuma awwaaraa bittinnaa'ee bada;
isaan seera WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu didanii
dubbii Qulqullicha Israa'el tuffataniiruutii.
25 Kanaafuu dheekkamsi WAAQAYYOO saba isaatti ni boba'a;
harki isaa ol ka'ee isaan rukuta.
Tulluuwwan ni raafamu;
reeffi isaaniis akkuma kosii daandii irratti gatamee ta'a.

Kana hundaan illee dheekkamsi isaa hin qabbanoofne;
harki isaas akkuma ol kaafametti jira.

26 Inni saboota fagoo jiraniif faajjii ol qaba;
warra moggaa lafaa jiranitti ni siiqsa.
Isaanis kunoo ariifatanii dafanii dhufu.
27 Isaan keessaa namni tokko iyyuu hin dadhabu yookaan hin gufatu;
namni tokko iyyuu hin mugu yookaan hin rafu;
sabbanni mudhii isaanii hin laafu;
hidhaan kophee isaaniis hin citu.
28 Xiyyi isaanii qaramaa dha;
iddaan isaanii hundi qopheeffameera;
kotteen fardeen isaanii akkuma dhagaa qara qabuu ti;
gommaan gaarii isaaniis akkuma bubbee hamaa ti.
29 Aaduun isaanii akkuma aaduu leencaa ti;
isaan akkuma saafela leencaa aadu;
yeroo waan adamsatan qabatanitti ni gururi'u;
isaan waan qabatan fudhatanii deemu;
namni isaan harkaa buusuu danda'us hin jiru.
30 Gaafas isaan akkuma huursaa galaanaa
waan sana irraa huursu.
Namni tokko yoo biyya sana ilaale,
inni dukkanaa fi rakkina arga;
aduunis duumessaan dukkaneeffama.

# 6

*Ergama Isaayyaas*

1 Bara Uziyaan Mootichi du'e keessa, ani utuu Gooftaan teessoo ol dheeraa fi ulfina
qabeessa irra taa'ee, handaarri uffata isaa mana qulqullummaa guutee jiruu nan
arge. 2 Isaa olittis suraafeloota tokkoon tokkoon isaanii qoochoo ja'a ja'a qabantu
ture; isaanis qoochoo lamaan fuula isaanii haguuggatu; qoochoo lamaan miilla isaanii
haguuggatu; qoochoo lamaan immoo ni barrisu turan. 3 Isaanis:

"WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
qulqulluu, qulqulluu, qulqulluu dha;
lafti hundinuu ulfina isaatiin guutamteerti"

jedhanii walitti lallabaa turan. 4 Sagalee isaaniitiin hundeen dhaaba balbalaa ni
raafame; manni qulqullummaas aaraan guutame.

5 Anis akkana jedheen iyye; "Anaaf wayyoo! Ani bade! Ani nama hidhii xuraa'aa
kan namoota hidhii xuraa'aa qaban gidduu jiraatuudhaatii; iji koo Mooticha,
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'u argeeraatii."

6 Suraafeloota keessaa inni tokko cilee boba'u kan qabduudhaan iddoo aarsaa irraa
fuudhe tokko harkatti qabatee gara kootti barrise. 7 Innis cilee sanaan afaan koo
tuqee, "Ilaali, wanni kun hidhii kee tuqeera; balleessaan kee sirraa fuudhameera;
cubbuun kees siif dhiifameera" jedhe.

8 Anis sagalee Gooftaa kan, "Ani eenyunan ergadha? Eenyutu nuuf deema?" jedhu
nan dhaga'e.

Kana irratti ani, "Kunoo anuu jira. Na ergi!" nan jedhe.

9 Innis, "Dhaqiitii akkana jedhii saba kanatti himi:

" 'Dhaga'uu ni dhageessu; garuu hin hubattan;
arguus inuma argitu; garuu hin qalbeeffattan!'
10 Qalbii saba kanaa doomsi;
gurra isaanii cuqqaali;
ija isaaniis cufi.
Yoo kanaa achii isaan ija ofii isaaniitiin arganii
gurra isaaniitiin dhaga'anii
qalbii isaaniitiin hubatanii deebi'anii fayyu."

11 Ani, "Yaa Gooftaa, wanni kun hamma yoomiitti akkana ta'a?" nan jedhe.

Innis akkana jedhee deebise:

"Hamma magaalaawwan diigamanii
nama isaan keessa jiraatu dhabanitti,
hamma manneen onanii lafti qotiisaas
barbadaa'ee duwwaa hafutti,
12 hamma WAAQAYYO nama hunda fageessee
lafti sun guutumaan guutuutti dagatamutti ta'a.
13 Kudhan keessaa tokko yoo hafe iyyuu,
biyyi sun amma illee deebitee onti.
Garuu akkuma mukni laaftootii fi qilxuu,
yoo muran gufuun isaa latu sana
akkasuma sanyiin qulqulluun gufuu ta'ee achitti hafa."

# 7

*Mallattoo Amaanu'el*

1 Bara Aahaaz ilmi Yootaam, ilmi Uziyaan Mootii Yihuudaa turetti, Reziin mootichi
Sooriyaatii fi Pheqaan ilmi Remaaliyaa mootichi Israa'el Yerusaalemiin loluuf itti
duulan; garuu ishee mo'achuu hin dandeenye.

2 Yeroo kanattis, “Sooriyaan Efreem wajjin tokkummaa uummatteerti” jedhanii
mana Daawititti himan; kanaafuu garaan Aahaaziitii fi garaan saba isaa akkuma
mukni bosonaa bubbeedhaan raafamu sana raafame.
3 Kana irratti WAAQAYYO Isaayyaasiin akkana jedhe; “Atii fi ilmi kee She’ar-
Yaashuub dhuma jal’isii Haroo Ol aanuu kan karaa Lafa qotiisaa namicha wayyaa
miicuutti geessu sana biratti Aahaazin simachuuf gad ba’aa. 4 Akkana jedhiin; ‘Of
eeggadhu; cal’isi; hin sodaatin. Ati sababii gufuuwwan muka ibiddaa kanneen
seeqaa jiran lamaan kanneeniitiif jechuunis sababii aarii Reziin kan Sooriyaatii fi
aarii ilma Remaaliyaa hamaa sanaatiif jettee abdii hin kutatin. 5 Sooriyaan, Efreemii
fi ilmi Remaaliyaa akkana jedhanii badiisa keetiif mari’ataniiru; 6 “Kottaa Yihuudaatti
duullaa; kottaa ishee kukkunnee gargar qooddannaa; ilma Xaabi’eelis ishee irratti
moosifannaa.” 7 Ta’us WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:

“ ‘Wanni kun hin raawwatu;
wanni kun hin ta’u;
8 mataan Sooriyaa Damaasqoodhaatii;
mataan Damaasqoo immoo Reziinii dha.
Waggaa jaatamii shan keessatti,
Efreem ni bittinnaa’a; saba tokko ta’uun isaas ni hafa.
9 Mataan Efreem Samaariyaa dha;
mataan Samaariyaa immoo ilma Remaaliyaa ti.
Isin yoo amantii keessaniin jabaattanii dhaabachuu baattan;
yoom iyyuu hin dhaabattan.’ ”

10 WAAQAYYO amma illee akkana jedhee Aahaazitti dubbate; 11 “Qilee akka malee
gad fagoo keessatti yookaan samii akka malee ol fagoo keessatti, WAAQAYYOON Waaqa
kee mallattoo gaafadhu.”

12 Aahaaz garuu, “Ani hin gaafadhu; WAAQAYYONIS hin qoru” jedhe.

13 Isaayyaasis akkana jedhe; “Yaa mana Daawit mee dhaga’aa! Isin obsa namaa
qoruun isin hanqatee obsa Waaqa koo qortuu? 14 Kanaafuu Gooftaan mataan isaa
mallattoo isiniif kenna: Kunoo durbi tokko ni ulfoofti; ilma ni deessi; Amaanu’el
jettees isa moggaafti. 15 Inni yeroo waan hamaa lagatee waan gaarii filachuu beekutti
itittuu fi damma nyaata. 16 Garuu utuu mucaan sun waan hamaa lagatee waan
gaarii filachuu hin beekin dura biyyi mootota lamaan ati sodaatte sanaa ni ona.
17 WAAQAYYO erga Efreem Yihuudaa irraa citee jalqabee bara takkumaa ta’ee hin
beekin tokko sitti, saba keettii fi mana Abbaa keetiitti ni fida; jechuunis mootii Asoor
ni fida.”

### *Asoor, Meeshaa WAAQAYYOO*

18 Bara sana keessa WAAQAYYO tisiisota burqaa laga Gibxi keessa jiranii fi kanniisota
biyya Asoor siiqsee waama. 19 Hundi isaanii dhufanii dhooqa lafaa keessa, holqa
kattaa keessa, daggala qoraattiitii fi boolla bishaanii hunda keessa qubatu. 20 Bara
sana keessa Gooftaan haaduu laga gamaa kireeffateen jechuunis mootiin Asoor
rifeensa mataa keessanii rifeensa miilla keessaniitii fi areeda keessan ni haada.
21 Bara sana keessa namni tokko goromsa tokkoo fi hoolaa lama qabaata. 22 Sababii
baay’ina aannan isaan kennaniif, inni itittuu sooratu qabaata. Namni biyya sanatti
hafu hundinuu itittuu fi damma nyaata. 23 Bara sana keessa, lafa mukkeen wayinii
kumni tokko kanneen meetii saqilii kuma baasan jiran hunda irra sokorruu fi
qoraattii qofatu jiraata. 24 Sababii lafti sun sokorruu fi qoraattiin guutameef,
namoonni iddaa fi xiyya qabatan iyyuu achi dhaqu. 25 Ati sababii sokorruu fi
qoraattii sodaattuuf si’achi gara gaarran kanaan dura gasoon soqamaa turan sanaa
hin dhaqxu; isaan lafa loon itti bobba’anii fi lafa hoolonni keessa burraaqan ta’u.

# 8

*Isaayyaasii fi Ijoollee Isaa*

1 WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Gabatee guddaa tokko fuudhiitii isa irratti,
'Maheer-Shaalaal-Haash-Baaz'* jedhii qubee beekamaadhaan barreessi." 2 Anis
akka isaan dhuga baatota amanamoo ta'aniif Uuriyaa lubichaa fi Zakkaariyaas ilma
Yeberekiyaa nan waammadha. 3 Anis raajittii bira nan ga'e; isheenis ulfooftee ilma
deesse. WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Maqaa isaa Maheer-Shaalaal-Haash-Baaz
jedhii moggaasi. 4 Utuu mucaan kun 'Aabboo' yookaan 'Aayyoo' jechuu hin beekin
dura qabeenyi Damaasqootii fi boojuun Samaariyaa mootii Asooriin fudhatama."
5 WAAQAYYO ammas akkana jedhee natti dubbate:

6 "Sabni kun bishaan Shiloo'aa
kan suuta yaa'u sana dhiisee
Reziinii fi ilma Remaaliyaatti
gammadeeraatii;
7 kanaafuu Gooftaan,
lolaa guddaa kan laga Efraaxiis jechuunis mootii Asoor
ulfina isaa hunda wajjin saba kanatti fida.
Lolaan sunis guutee bo'oo isaa irra yaa'ee
ededa isaa hunda irra dhangala'a.
8 Lolaan sunis hamma morma ga'utti guutee irra dhangala'ee
keessa darbuudhaan waan hundumaa haxaa'ee Yihuudaatti geessa.
Yaa Amaanu'el!†
Qoochoon isaa bal'ifamee guutummaa biyya keetii ni haguuga."

9 Yaa saboota, burkutaa'aa!
Isin warri biyya fagoo jirtan hundi dhaggeeffadhaa.
Waraanaaf hidhadhaa; ta'us burkutaa'aa!
Waraanaaf hidhadhaa; ta'us burkutaa'aa!
10 Mari'adhaa; garuu faayidaa hin qabu;
karoorfadhaa; garuu fiixaan hin ba'u;
Waaqni nu wajjin jiraatii.

11 WAAQAYYO harka isaa jabaa sanaan natti dubbatee akka ani karaa saba kanaa
irra hin deemneef akkana jedhee na akeekkachiiseeraatii:

12 "Isin waan uummanni kun fincila jedhu
hundaan fincila hin jedhinaa;
waan isaan sodaatan hin sodaatinaa;
hin raafaminaa.
13 Kan isin akka qulqulluutti ilaaluu qabdan
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'u tokkicha;
kan isin sodaachuu qabdan isuma;
kan isin hollachuufii qabdanis isuma.
14 Inni iddoo qulqulluu ta'a;
manneen Israa'el lamaaniif garuu
inni dhagaa nama gufachiisu,
kattaa nama kuffisu ta'a.
Saba Yerusaalemitti garuu
inni kiyyoo fi futtaasaa ta'a.
15 Hedduun isaanii ni gufatu;

---

* **8:1** 8:1 Maheer-Shaalaal-Haash-Baaz jechuun dafii booji'i; ariifadhuu saami jechuu dha. † **8:8** 8:8 Amaanu'el jechuun Waaqni nu wajjin jira jechuu dha.

isaan kufanii caccabu;
futtaasaa seenanii qabamu.”

16 Dhuga ba’umsa kana walitti qabsiisi;
seera kanas barattoota koo gidduutti chaappaadhaan cufi.
17 WAAQAYYO mana Yaaqoob duraa
fuula isaa dhokfate sana nan eeggadha.
Ani isa nan amanadha.
18 Anii fi ijoolleen WAAQAYYO naa kenne kunoo ti. Nu Israa’el keessatti WAAQAYYOO
Waan Hunda Danda’u kan Tulluu Xiyoon irra jiraatu sanaaf mallattoo fi fakkeenya.

### *Dukkanni Ifatti Jijjiirama*

19 Yommuu namni tokko dhaqaatii ilaaltootaa fi eker dubbistoota kanneen
hasaasanii fi guunguman waa gaafadhaa isiniin jedhutti sabni tokko Waaqa isaa
gorsa gaafachuu hin qabuu? Isaan waa’ee jiraattotaa maaliif warra du’an gaafatu?
20 Akka seeraa fi dhuga ba’umsa sanaatti jiraadhaa! Isaan yoo akka dubbii kanaatti
dubbachuu baatan ifa barii hin qaban jechuu dha. 21 Isaan rakkina guddaa fi beelaan
biyya keessa jooru; yommuu beela’anittis akka malee aaranii, ol ilaalanii mootii
isaaniitii fi Waaqa isaanii abaaru. 22 Ergasiis gara lafaa ilaalanii rakkina guddaa,
dukkanaa fi hurrii sodaachisaa argu; isaanis dukkana hamaatti darbatamu.

# 9

### *Mucaan Nuuf Dhalateera*

1 Warri rakkina guddaa keessa turan garuu si’achi gadda keessa hin jiraatan. Inni duraan biyya Zebuuloonii fi biyya Niftaalem gad deebise; gara fuulduraatti garuu Galiilaa Namoota Ormaa kan Yordaanosiin gama, qarqara Daandii Galaanaa irra jiran sana ni kabaja.
2 Sabni dukkana keessa jiraatu ifa guddaa argeera;
warra biyya dukkana limixii keessa jiraataniifis ifni ba’eera.
3 Ati saba baay’iftee
gammachuu isaanii illee guddifteerta;
isaan akkuma uummanni yeroo
midhaan haamamutti gammadu sana,
akkuma namoonni yeroo boojuu qooddatanitti
gammadan sana fuula kee duratti ni ililchu.
4 Ati akkuma bara Midiyaanin mo’atame sanaa,
waanjoo isaanitti ulfaate
somaa gatiittii isaanii irraa
ulee cunqursaa isaanii illee caccabsiteerta.
5 Kopheen loltuun ittiin duulte hundi,
uffanni dhiiga keessa cuuphame hundi
ibiddaan gubama;
qoraan ibiddaas ta’a.
6 Mucaan nuuf dhalateera;
ilmi nuuf kennameera;
mootummaan gatiittii isaa irra jiraata.
Innis Gorsaa Dinqisiisaa, Waaqa Jabaa,
Abbaa Bara baraa, Mootii Nagaa
jedhamee ni waamama.
7 Babal’inni mootummaa isaatii fi
nagaan isaa dhuma hin qabu.

Innis murtii qajeelaa fi qajeelummaadhaan
hundeessee jabeessee dhaabuudhaan
yeroo sanaa jalqabee bara baraan
teessoo Daawit irra taa'ee mootummaa isaa bulcha.
Hinaaffaan WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uus
waan kana ni raawwata.

### *WAAQAYYO Israa'elitti Dheekkame*

8 Gooftaan dhaamsa tokko Yaaqoobitti ergeera;
kunis Israa'el irra bu'a.
9 Uummanni hundi,
Efreemii fi jiraattonni Samaariyaa waan kana ni beeku;
isaanis of tuuluu fi garaa of jajuun akkana jedhu;
10 "Xuubiiwwan diigamaniiru;
nu garuu dhagaa soofameen deebisnee ijaarra;
mukkeen harbuu murmuramaniiru;
nu garuu birbirsa iddoo buusna."
11 Kanaafuu WAAQAYYO amajaajota Reziin isaanitti jabeesse;
diinota isaanii illee isaanitti kakaase.
12 Warri Sooriyaa gama ba'aatiin,
Filisxeemonni immoo gama lixaatiin
afaan banatanii Israa'elin liqimsan.

Kana hundaan illee dheekkamsi isaa hin qabbanoofne;
harki isaas amma iyyuu akkuma ol kaafametti jira.

13 Sabni sun garuu gara isa isaan dha'e sanaatti hin deebine
yookaan WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'u hin barbaaddanne.
14 Kanaafuu WAAQAYYO Israa'el irraa mataa fi eegee kuta;
damee meexxiitii fi shambaqqoo guyyuma tokkoon balleessa;
15 maanguddoonnii fi kabajamoonni mataa dha;
raajonni soba barsiisan immoo eegee dha.
16 Namoonni saba kana qajeelchan isaan dogoggorsu;
warri isaaniin qajeelfamanis karaa irraa badu.
17 Kanaafuu Gooftaan dargaggootatti hin gammadu
yookaan ijoollee abbaa hin qabnee fi
haadhota hiyyeessaatiif hin na'u;
namni hundinuu kan Waaqa hin sodaannee fi hamaadhaatii;
afaan hundinuus hamaa dubbata.

Kana hundaan illee dheekkamsi isaa hin qabbanoofne;
harki isaas amma iyyuu akkuma ol kaafametti jira.

18 Hamminni dhugumaan akka ibiddaa boba'a;
inni sokorruu fi qoraattii illee gubee balleessa,
bosona gobbuus ni qabata;
akkuma aara ol ba'uuttis ol ba'a.
19 Dheekkamsa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uutiin
lafti ni gubatti;
namoonnis qoraan ibiddaa ta'u;
namni kam iyyuu obboleessa isaa oolchuu hin danda'u.
20 Karaa mirgaatiin ni butatu;

garuu beela hin ba’an;
karaa bitaatiin ni nyaatu;
garuu hin quufan.
Tokkoon tokkoon isaanii foon aantee isaa nyaata;
21 Minaaseen Efreemin nyaata; Efreemis Minaasee nyaata;
isaan tokkummaadhaan Yihuudaatti garagalu.

Kana hundaan illee dheekkamsi isaa hin qabbanoofne;
harki isaas amma iyyuu akkuma ol kaafametti jira.

# 10

1 Warra seera jal’aa baasan,
kanneen labsii cunqursaa labsaniif wayyoo;
2 isaan murtii rakkattootaa jal’isu;
mirga hiyyeeyyii saba koos ni dhiibu;
haadhota hiyyeessaa boojuu godhatu;
ijoollee abbaa hin qabnes ni saamu.
3 Isin yeroo badiisni fagoodhaa dhufu
guyyaa adabbiitti maal gootu?
Gargaarsa argachuuf eenyutti baqattu?
Qabeenya keessan eessatti dhiiftu?
4 Warra booji’aman jala gugguufuu
yookaan warra ajjeefaman jalatti kufuu malee homtuu hin hafu.

Kana hundaan illee dheekkamsi isaa hin qabbanoofne;
harki isaas amma iyyuu akkuma ol kaafametti jira.

### *Murtii Waaqni Asooritti Murteesse*

5 “Asooricha isa ulee aarii kootii ta’eef,
isa bokkuun dheekkamsa kootii harka isaa jiruuf wayyoo!
6 Ani akka inni isaan saamuu fi booji’uuf
akka inni akkuma dhoqqee karaa irraa lafatti isaan dhidhiituuf
saba Waaqatti hin bulletti isa nan erga;
uummata na aarsuttis isa nan ajaja.
7 Garuu kun waan inni yaadu miti;
yaadni akkasiis garaa isaa keessa hin jiru;
kaayyoon isaa barbadeessuu dha;
saba baay’ees fixuu dha.
8 Innis akkana jedha; ‘Ajajjoonni koo hundinuu mootota mitii?
9 Kaalnoon akkuma Karkemiish mitii?
Hamaati akkuma Arfaad mitii?
Samaariyaanis akkuma Damaasqoo mitii?
10 Akkuma harki koo mootummoota waaqota tolfamoo
kanneen fakkiiwwan soofamoo kan Yerusaalemii fi
Samaariyaa caalan qabe sana,
11 ani waanan Samaariyaa fi fakkiiwwan ishee godhe sana
Yerusaalemii fi waaqota ishee tolfamoo hin godhuu?’ ”
12 Gooftaan yeroo Tulluu Xiyoon irrattii fi Yerusaalem keessatti hojii isaa hunda
fixatutti akkana jedha; “Ani sababii of jajuu garaa isaatii fi ilaalcha isaa kan of

tuulummaan guutame sanaatiif jedhee mooticha Asoor nan adaba. 13 Inni akkana
jedhaatii:
“ ‘Ani jabina harka kootiin waan kana hojjedheera;
ani sababiin hubannaa qabuuf,
ogummaa kootiin hojjedheera.
Ani daangaa sabootaa iddoodhaa buqqiseera;
qabeenya isaanii illee saameera.
Akkuma nama jabaa tokkoo ani mootota isaanii
of jala galfadheera.
14 Akkuma namni tokko man’ee simbiraa keessa harka kaa’u sana
anis harka koo qabeenya sabootaa keessa nan kaa’a;
akkuma namoonni hanqaaquu dagatame
walitti qaban sana, anis biyya hunda walitti nan qabe;
kan qoochoo hurgufate,
yookaan wacuuf afaan banate tokko iyyuu hin turre.’ ”

15 Qottoon nama ittiin waa murutti ni kooraa?
Yookaan wanni ittiin waa muran nama itti fayyadamutti of jajaa?
Kunis akka waan uleen tokko nama isa qabatutti of mirmirsuu ti;
yookaan akkuma bokkuun tokko akka waan muka hin ta’iniitti ol of guddisuu ti!
16 Kanaafuu Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u,
loltoota gagabbatan kanatti dhukkuba nama huqqisu ni erga;
ulfina isaa jalaanis ibiddi tokko
akkuma arraba ibiddaa ni qabsiifama.
17 Ifni Israa’el ibidda,
Qulqullichi isaanii sunis arraba ibiddaa ta’a;
ibiddi sun guyyuma tokkoon
qoraattii isaatii fi sokorruu isaa gubee balleessa.
18 Akkuma namni tokko yeroo dhukkubsatu huqqatu sana,
ibiddi sun ulfina bosonaa isaatii fi lafa qotiisaa gabbataa,
lubbuu fi foonis ni barbadeessa.
19 Mukkeen bosona isaa keessatti hafan waan akka malee muraasa ta’aniif
mucaan tokko galmeessuu ni danda’a.

### *Hambaa Israa’el*

20 Bara sana keessa hambaan Israa’el,
mana Yaaqoob keessaa warri hafan,
dhugumaan Waaqayyo Qulqullicha Israa’el abdatu malee
lammata isa isaan dha’e sana hin abdatan.
21 Hambaan tokko, hambaan Yaaqoob
gara Waaqa Jabaa sanaatti ni deebi’a.
22 Yaa Israa’el, yoo sabni kee
akkuma cirracha qarqara galaanaa ta’e iyyuu,
hambaa qofatu deebi’a.
Badiisni qajeelummaadhaan guutame labsameera.
23 Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u
badiisa lafa hundatti labsame ni raawwata.
24 Kanaafuu Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Yaa saba koo warri Xiyoon keessa jiraattan,
warra Asoor kanneen uleedhaan isin rukutan,
kanneen akkuma warra Gibxi bokkuu ol isinitti fudhatan hin sodaatinaa.
25 Aariin ani isinitti aare dafee qabbanaa’a;

dheekkamsi koos isaan balleessuuf itti garagala."

26 WAAQAYYON Waan Hunda Danda'u sun,
akkuma kattaa Hereeb biratti Midiyaanin qacceen garafe sana,
akkuma biyya Gibxi keessatti godhe sana,
ulee isaa bishaan irratti ol fudhata.
27 Gaafas ba'aan isaanii gatiittii keessan irraa,
waanjoon isaaniis morma keessan irraa fuudhama;
waan isin akka malee gabbattaniif waanjoon ni caccaba.

28 Isaan gara Ayyati seenan;
Migroon keessa ba'an;
nyaataa fi hidhata isaaniis Mikmaas keessatti kuuftan.
29 Isaan karaa qal'aa irra ba'anii,
"Nu Gebaa qubannee bulla" jedhan.
Raamaan ni sodaatti;
Gibe'aan Saa'olis ni baqatti.
30 Yaa intala Galiim, iyyi!
Yaa Laayishaa dhaggeeffadhu!
Yaa Anaatoot deebii isheef kenni!
31 Maadmenaan baqataa jirti;
uummanni Geebiimis baqachuuf walitti qabama.
32 Isaan har'a Noob ga'u;
isaan tulluu Intala Xiyoonitti,
gaara Yerusaalemitti harka isaanii raasu.

33 Kunoo Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u,
humna guddaadhaan dameewwan murmura;
mukkeen gurguddaan ni cicciramu;
mukkeen dhedheeroonis gad qabamu.
34 Inni bosona gobbuu qottoodhaan cira;
Libaanoonis fuula Waaqa Jabaa duratti kufa.

# 11

*Damee Isseey*

1 Lataan tokko jirma Isseey irraa ni lata;
hidda isaa irraas dameen tokko ija naqata.
2 Hafuurri WAAQAYYOO,
Hafuurri ogummaatii fi hubannaa,
Hafuurri gorsaatii fi humnaa,
Hafuurri beekumsaatii fi kan WAAQAYYOON sodaachuu isa irra qubata;
3 inni WAAQAYYOON sodaachuutti ni gammada.

Inni waanuma iji isaa arguun murtii hin kennu;
yookaan waanuma gurra isaatiin dhaga'uun hin murteessu;
4 garuu nama rakkataaf qajeelummaadhaan murteessa;
hiyyeeyyii lafa irraatiifis murtii qajeelaadhaan murtii kenna.
Inni ulee afaan isaatiin lafa rukuta;
hafuura afaan isaatii ba'uun hamoota ni fixa.
5 Qajeelummaan teepha mudhii isaa ti;
amanamummaan immoo sabbata mudhii isaa ti.

6 Yeeyyiin xobbaallaa hoolaa wajjin jiraata;
qeerransi ilmoo re’ee bira ciisa;
jabbiin, leencii fi horiin gabbataan walii wajjin bobba’u;
mucaan xinnaan isaan bobbaasa.
7 Saan amaaketa wajjin soorata;
ilmaan isaanii wal cina ciciisu;
leencis akka sangaa cidii nyaata.
8 Daa’imni boolla bofaa irra taphata;
mucaan xinnaan boolla buutii keessa harka kaa’a.
9 Isaan tulluuwwan koo qulqulloota hunda irratti
waa hin miidhan yookaan waa hin balleessan;
akkuma bishaan galaana guutu sana
lafti WAAQAYYOON beekuudhaan guutamtiitii.
10 Bara sana keessa hiddi Isseey akkuma faajjiitti uummataaf dhaabata; saboonni
gara isaatti walitti qabamu; lafti inni boqotus ulfina qabeessa ta’a. 11 Gaafas Gooftaan
yeroo lammaffaaf harka isaa diriirsee Asoor irraa, Gibxi Gadii irraa, Gibxi Olii irraa,
Itoophiyaa irraa, Eelaam irraa, Baabilon irraa, Hamaatii fi biyyoota bishaan gidduu
galaanaa irraa hambaawwan saba isaa walitti qabata.
12 Inni sabootaaf faajjii ol kaasee
booji’amtoota Israa’el walitti qaba;
inni roga laafaa afran irraa
saba Yihuudaa kan bittinnaa’ee ture walitti qaba.
13 Hinaaffaan Efreem ni bada;
diinonni Yihuudaas ni barbadeeffamu;
Efreem gaafas Yihuudaatti hin hinaafu;
yookaan Yihuudaan Efreemitti hin hammaatu.
14 Isaan karaa lixa biiftuutiin gatiittii Filisxeemitti gad bu’u;
tokko ta’aniis uummata ba’a biiftuu saamu.
Isaan Edoomii fi Mo’aabin qabatu;
warri Amoonis isaan jalatti bulu.
15 WAAQAYYO guutumaan guutuutti,
galoo galaana Gibxi ni gogsa;
inni bubbee isaa kan nama waxaluun
harka isaa laga Efraaxiis irra sochoosa.
Akka namoonni kopheen ce’aniifis
inni laga torbatti gargar isa qooda.
16 Akkuma gaafa isaan Gibxii ba’an
Israa’eliif ta’e sana,
hambaa saba isaa kan Asoor irraa hafeef
karaan guddaan ni argama.

# 12

*Faarfannaa Galataa*

1 Ati gaafas akkana jetta:
“Yaa WAAQAYYO, ati natti aartee turte;
aariin kees narraa deebi’eera;
na jajjabeessiteertaatii sin galateeffadha.
2 Dhugumaan Waaqni fayyina koo ti;
ani isa nan abdadha; hin sodaadhus.
WAAQAYYO, WAAQAYYO mataan isaa,

jabinaa fi faarfannaa koo ti;
inni fayyina koo ta’eera.”
3 Isin burqaa fayyinaa keessaa
gammachuudhaan bishaan waraabbattu.
4 Isin bara sana keessa akkana jettu:
“WAAQAYYOOF galata galchaa; maqaa isaa waammadhaa;
waan inni hojjete sabootatti beeksisaa;
akka maqaan isaa ol ol jedhe lallabaa.
5 Inni waan ulfina qabu hojjeteeraatii WAAQAYYOON faarfadhaa;
wanni kun addunyaa hunda keessatti haa beekamu.
6 Yaa saba Xiyoon, Qulqullichi Israa’el
isin gidduutti guddaadhaatii
sagalee ol fudhadhaatii gammachuudhaan faarfadhaa.”

# 13

*Raajii Baabiloniin Mormu*

1 Raajii waa’ee Baabilon kan Isaayyaas ilmi Amoos arge:
2 Tulluu homaa itti hin biqilin irratti
faajjii ol kaasaatii isaanitti iyyaa;
akka isaan karra namoota
bebeekamootiin ol galaniif harkaan itti himaa.
3 Ani qulqulloota koo ajajeera;
akka isaan dheekkamsa koo hojii irra naa oolchaniif
ani loltoota koo kanneen mo’annoo kootti gammadan
waammadheera.

4 Waca tulluuwwan irraa,
kan akka tuuta guddaa tokkoo dhaggeeffadhaa!
Guungummii mootummootaa
kan saboota walitti qabamanii dhaggeeffadhaa!
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u
lolaaf jedhee loltoota qopheeffachaa jira!
5 Isaan biyya fagoodhaa
daarii samiiwwaniitii dhufan;
WAAQAYYOO fi mi’a lolaa kan dheekkamsa isaatiin
guutummaa biyyattii balleessuuf dhufu.

6 Waan guyyaan WAAQAYYOO dhi’aateef boo’aa;
guyyaan sun akkuma badiisa
Waaqa Waan Hunda Danda’u biraa ergameetti ni dhufa.
7 Kanaafuu harki hundinuu ni laamsha’a;
onneen nama hundaas ni baqa.
8 Sodaan isaan qabata;
dhukkubbii fi gaddi isaan qabata;
akkuma dubartii ciniinsuun qabeetti wixxirfatu.
Isaan rifatanii wal ilaalu;
fuulli isaanii akka ibiddaa diimata.

9 Kunoo guyyaan WAAQAYYOO,
guyyaan hamaan, dheekkamsaa fi aarii sodaachisaadhaan,
lafa onsuu fi cubbamoota ishee keessa jiraatan

barbadeessuuf ni dhufa.
10 Urjiiwwan samiitii fi tuunni isaanii
ifa isaanii hin kennan.
Aduun baatu ni dukkanoofti;
ji'is ifa ishee hin kennitu.
11 Ani addunyaa kana sababii jal'ina isaatiif,
hamoota sababii cubbuu isaaniitiif nan adaba.
Ani of tuulummaa of jajjootaa nan balleessa;
of guddisuu gara jabeeyyii illee gadin deebisa.
12 Ani akka namni warqee qulqulluu caalaa gati qabeessa,
warqee Oofiir caalaas muraasa ta'u nan godha.
13 Kanaafuu ani akka samiiwwan hollatan nan godha;
gaafa aariin isaa boba'utti
dheekkamsa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uutiin
lafti iddoo isheetii ni raafamti.

14 Namni hundinuu akkuma kuruphee adamsamtuu,
akkuma hoolota tiksee hin qabnee
gara saba isaatti deebi'a;
namni kam iyyuu biyya isaatti baqata.
15 Namni booji'ame hundinuu ni waraanama;
kan qabame kam iyyuu goraadeedhaan du'a.
16 Daa'imman isaanii fuuluma isaanii duratti ni cicciramu;
manneen isaanii ni saamamu;
niitonni isaaniis humnaan gudeedamu.

17 Kunoo ani warra Meedee
kanneen meetii irraa dhimma hin qabne
warra warqeen hin gammachiifne jarattin kakaasa.
18 Iddaan isaanii dargaggoota fixxi;
isaan daa'immaniif hin na'an;
ijoolleefis garaa hin laafan.
19 Baabilon ulfinni moototaa,
miidhaginni of jaja warra Baabilon
akkuma Sodoomii fi Gomoraa
irree Waaqaatiin garagalfamti.
20 Namni ishee keessa hin qubatu;
yookaan dhaloota hunda keessatti
namni ishee keessa hin jiraatu;
namni Arabaa tokko iyyuu dunkaana isaa achi hin dhaabbatu;
tikseen tokko iyyuu bushaayee isaa achi hin boqochiifattu.
21 Garuu bineensonni bosonaa achi ciciisu;
waangoowwan mana ishee ni guutu;
urunguun achi jiraatti;
re'een diidaa achi keessa buburraaqxi.
22 Waraabessi da'annoowwan ishee keessaa yuusa;
waangoonis manneen ishee mimmiidhagoo kan mootummaa
keessaa iyyiti.
Yeroon ishee ga'eera;
barri ishees hin dheeratu.

# 14

1 WAAQAYYO Yaaqoobiif garaa ni laafa;
inni amma illee Israa'elin filatee
biyya isaanii keessa isaan qubachiisa.
Ormoonni isaanitti dabalamu;
mana Yaaqoob wajjinis tokko ta'u.
2 Saboonni isaan fudhatu;
iddoo ofii isaaniitti isaan deebisu.
Manni Israa'el immoo akkuma hojjettoota dhiiraa fi dubartiitti
lafa WAAQAYYOO keessatti dhaala godhanii isaan fudhatu.
Isaan boojitoota isaanii booji'anii
warra isaan hacuucanis bulchu.
3 Guyyaa WAAQAYYO itti dhiphina, rakkinaa fi hojii hamaa isin itti garboomfamtanii
turtan sana jalaa isin boqochiisutti, 4 akkana jettee mootii Baabilonitti ni qoosta:
Cunqursichi akkamitti bade!
Aariin isaas akkamitti isa irraa gale!
5 WAAQAYYO ulee hamootaatii fi
bokkuu bulchitootaa,
6 kan dheekkamsa wal irraa hin cinneetiin
uummata rukute;
kan gara laafina tokko malee ari'ee
saboota dha'e sana caccabseera.
7 Lafti hundi boqonnaa fi nagaa argatti;
faarfachuuttis kaati.
8 Gaattiraawwanii fi birbirsawwan
Libaanoon iyyuu isinitti burraaqanii,
"Amma ati kufteerta;
namni tokko iyyuu nu muruuf hin dhufu" jedhu.

9 Sii'ool isheen gadii yeroo ati dhuftutti si simachuuf kaati;
isheen akka isaan si dubbisaniif hafuurota warra du'anii,
warra addunyaa irratti hooggantoota
turanii hunda dammaqsiteerti;
isheen warra mootota sabootaa turan hunda
teessoo isaanii irraa kaafti.
10 Isaan hundinuu deebisanii akkana jedhu;
"Atis akkuma keenya dadhabdeerta;
akkuma keenya taateerta."
11 Ulfinni kee hundinuu, sagalee baganaa keetii wajjin
awwaala keessa buufameera;
ilmaan raammoo si jala afamanii
raammoon si haguugdi.

12 Yaa bakkalcha barii, ilma barii barraaqaa,
ati akkamitti samii irraa lafa dhoofte!
Ati kan duraan saboota gad qabde,
lafatti gad darbatamteerta!
13 Ati garaa keetti akkana jette;
"Ani samiitti olin ba'a;
ani urjiiwwan Waaqaatii olitti
teessoo koo olin baafadha;
ani tulluu wal ga'ii irra,
fiixee tulluu qulqullichaa irra teessoo irra nan taa'a.

14 Ani fiixee duumessootaa gara irraatti ol nan ba'a;
ani akka Waaqa Waan Hundaa Olii ofin taasisa."
15 Garuu ati sii'ool keessa,
boolla qilee keessa buufamteerta.

16 Warri si argan ija babaasanii si ilaalu;
akkana jedhaniis dinqisiifatu:
"Kun namichuma lafa sochoosee
akka mootummoonni raafaman godhe,
17 namicha addunyaa kana gammoojjii godhe,
kan magaalaawwan ishee gaggaragalchee
akka warri booji'aman mana isaaniitti hin deebine godhe sanaa?"

18 Mootonni sabootaa hundi,
ulfinaan awwaala isaanii keessa ciciisaniiru.
19 Ati garuu akkuma damee jibbame tokkootti,
awwaala kee keessaa baafamtee gatamteerta;
ati warra ajjeefamaniin,
warra goraadeen waraanamaniin,
warra gara dhagaa boollaatti gad bu'aniin haguugamteerta.
Akkuma reeffaa miillaan dhidhiitamteerta;
20 ati sababii biyya kee balleessitee
namoota kee fixxeef,
isaan gidduutti hin awwaalamtu.

Maqaan sanyii hamootaa
lammata hin dha'amu.
21 Sababii cubbuu abbootii isaaniitiif
iddoo ilmaan isaa itti qalaman qopheessaa;
isaan biyya dhaaluudhaaf,
magaalaawwan isaaniitiinis lafa guutuuf hin ka'an.

22 "Ani isaanitti nan ka'a,"
jedha Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u.
"Ani Baabilon keessaa maqaa isheetii fi hambaa ishee,
ilmaan isheetii fi sanyii ishee nan balleessa"
jedha Waaqayyo.
23 "Ani iddoo urunguun keessa jiraattuu fi
lafa caffee ishee nan godha;
ani hartuu badiisaatiin ishee nan haxaa'a"
jedha Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u.

### *Raajii Asooriin Mormu*

24 Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u akkana jedhee kakateera;
"Dhugumaan akkuma ani duraan karoorfadhe sana
wanni kun ni ta'a;
akkuma ani yaade sanas ni dhaabata.
25 Ani biyya koo keessatti Asoorota nan barbadeessa;
tulluuwwan koo irratti ani isa gad dhidhiita.
Waanjoon isaa saba koo irraa ni fuudhama;
ba'aan isaas gatiittii isaanii irraa ni bu'a."

26 Karoorri guutummaa addunyaatiif murtaa’e kanaa dha;
kun harka saboota hunda irratti diriirfamee dha.
27 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u
waan kana yaadeeraatii, eenyutu isa garagalcha?
Harki isaa diriirfameeraa;
eenyutu duubatti isa deebisuu danda’a?

*Raajii Filisxeemotaan Mormu*

28 Raajiin kun bara Aahaaz mootichi du’e keessa dhufe:
29 Yaa Filisxeemota, uleen isin dha’e waan cabeef,
isin hundinuu hin gammadinaa;
hidda bofa sanaa keessaa buutiitu ba’a;
iji isaa bofa darbatamaa summii qabu ni ta’a.
30 Hiyyeessi gadadamaan iddoo itti bobba’u argata;
rakkataanis nagaadhaan ciisa.
Hidda kee garuu ani beelaan nan barbadeessa;
beellis hambaa kee ni fixa.

31 Yaa karra, ati boo’i! Yaa magaalaa, iyyi!
Filisxeemonni hundi baqaatii badaa!
Duumessi aaraa tokko karaa kaabaatiin ni dhufa;
raayyaa waraana isaa keessas kan citee hafu tokko iyyuu hin jiru.
32 Ergamoota saba sanaatiif
deebii akkamiitu kennamuu mala?
“WAAQAYYO jabeessee Xiyoonin dhaabeera;
ishee keessattis namoonni isaa kanneen miidhaman
da’annoo ni argatu.”

# 15

*Raajii Mo’aabiin Mormu*
*16:6-12 kwf – Erm 48:29-36*

1 Raajii waa’ee Mo’aab:
Aari isheen Mo’aab keessaa diigamteerti;
halkanuma tokkottis baddeerti!
Qiir isheen Mo’aab keessaa diigamteerti;
halkanuma tokkottis baddeerti!
2 Diiboon gara mana qulqullummaatti,
iddoowwan ol ka’aatti boo’uuf ol ba’a;
Mo’aabis Neboo fi Meedebaaf ni boo’a.
Mataan hundinuu haadamaa dha;
areedni hundinuus cicciramaa dha.
3 Isaan daandii irratti wayyaa gaddaa uffatu;
bantii manaatii fi waltajjii sabaa irratti
hundi isaanii ni boo’u;
imimmaan isaaniis ni dhangalaasu.
4 Heshboonii fi Ele’aaleen ni iyyu;
sagaleen isaaniis hamma Yaahaziitti fagaatee dhaga’ame.
Kanaafuu loltoonni Mo’aab ni iyyu;
lubbuun isaaniis ni rom’ite.

5 Garaan koo Mo’aabiif iyya;
kooluu galtoonni ishee hamma Zo’aariitti,
hamma Eglaati Sheelishiyaatti baqatu.

Isaan boo’aa, gara Luuhiititti ol ba’u;
karaa Hooronaayim irrattis,
waa’ee badii isaanii faarsanii boo’u.
6 Bishaanonni Niimriim goganiiru;
margis coollageera;
biqiltuuwwan lafaa badaniiru;
wanni magariisni tokko iyyuu hin hafne.
7 Kanaafuu isaan qabeenya argatanii kuufatan sana
Laga Alaltuu irraan baatanii dabarfatu.
8 Iyyi isaanii hamma daarii Mo’aabitti dhaga’ame;
wawwaachuun isaanii hamma Eglayiimitti
faaruun boo’icha isaaniis hamma Be’eer Eeliimiinitti dhaga’ame.
9 Bishaanonni Diimon dhiigaan guutamaniiru;
ani immoo waan kana caalu iyyuu Diimonitti nan fida;
warra Mo’aab keessaa baqatan
kanneen biyya sanatti hafanitti leenca nan erga.

# 16

1 Seelaa, gammoojjii gama jirtu sana irraa
bulchaa biyyattiitiif,
gara tulluu Intala Xiyoonitti
xobbaallaawwan hoolaa gibira ergaa.
2 Akkuma simbira man’ee ishee keessaa ari’amtee
asii fi achi fiigduu dubartoonni Mo’aabis
malkaa laga Arnoonitti akkasuma ta’u.

3 “Gorsa nuuf kennaa; murtii murteessaa.
Guyyaa saafaadhaan gaaddidduu keessan
akkuma halkanii dukkaneessaa.
Baqattootas dhoksaa;
kooluu galtoota hin ganinaa.
4 Baqattoonni Mo’aab isin wajjin haa jiraatan;
balleessituu irraa da’oo isaaniif ta’aa.”

Cunqursaan ni bada;
badiisnis ni hafa;
warri nama miidhan lafa irraa badu.
5 Teessoon jaalalaan hundeeffama;
mana Daawit keessaa namni murtii kennuu irratti
murtii qajeelaa barbaadu,
kan waan qajeelaa hojjechuuf ariifatu tokko
amanamummaadhaan teessoo sana irra ni taa’a.

6 Nu of tuulummaa Mo’aab,
of guddisuu fi kooruu ishee,
of tuuluu fi addaggee ta’uu ishee dhageenyeerra;
of jajuun ishee garuu faayidaa hin qabu.
7 Kanaafuu Mo’aabonni ni boo’u;
isaan tokkummaadhaan Mo’aabiif boo’u.
Namoota Qiir Hareeshetiif

faarsanii boo’uudhaan gaddu.
8 Lafti qotiisaa Heshboon,
mukni wayinii Sibimaas coollageera.
Bulchitoonni sabootaa
mukkeen wayinii filatamoo
kanneen duraan Ya’izeerin ga’anii
gara gammoojjiitti babal’atan dhidhiitaniiru.
Lataan isaanii dheeratee hamma galaanaatti diriire.
9 Kanaafuu ani akkuma Ya’izeer boosse sana,
mukkeen wayinii Sibimaatiif nan boo’a.
Yaa Heshboon, yaa Ele’aalee,
ani imimmaan kootiin sin jiisa!
Ililleen yeroo midhaan siif ga’eetii fi
gammachuun yeroo midhaan siif
haamamu ture sun hafeera.
10 Ililchuu fi gammaduun iddoo biqiltuu keessaa badaniiru;
namni tokko iyyuu iddoo dhaabaa wayinii keessatti
hin faarfatu yookaan hin ililchu:
sababii ani ilillee balleesseef
namni iddoo wayinii itti cuunfanitti wayinii dhidhiitu tokko hin jiru.
11 Garaan koo akkuma baganaa faarsee Mo’aabiif boo’a;
keessi koos Qiir Hareeshetiif boo’a.
12 Mo’aab yoo iddoo ol ka’aatti mul’atte,
isheen ofuma dadhabsiifti;
yoo kadhannaaf gara iddoo qulqulluu ishee dhaqxe
kunis faayidaa tokko illee hin qabu.

13 Kun dubbii WAAQAYYO duraanuu waa’ee Mo’aab dubbatee dha. 14 WAAQAYYO
garuu amma akkana jedha: “Waggaa sadii keessatti, ulfinni Mo’aabii fi namoonni
ishee hedduun hundi akkuma hojjetaan tokko guyyaa isaa lakkaa’atu sana ni
tuffatamu; kanneen hafanis akka malee muraasaa fi dadhaboo ta’u.”

# 17

### *Raajii Damaasqoodhaan mormu*

1 Raajii Damaasqoodhaan mormu:
“Kunoo, Damaasqoon tuullaa diigamte taati malee
si’achi magaalaa hin taatu.
2 Magaalaawwan Aro’eer ni onu;
bushaayeen achi ciciisu;
wanni isaan sodaachisu tokko iyyuu hin jiru.
3 Magaalaan jabeeffamtee ijaaramte Efreem keessaa,
humni mootummaas Damaasqoo keessaa ni bada;
hambaan Sooriyaa akka ulfina Israa’elootaa ta’a”
jedha WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u.

4 “Bara sana keessa ulfinni Yaaqoob gad deebi’a;
furdinni dhagna isaas ni huqqata.
5 Akkuma namni midhaan haamu tokko,
midhaan dhaabbatu walitti qabee irree isaatiin haamu sana
kunis akkuma yeroo namni tokko
Sulula Refaayim keessaa qarmii funaanuu ni ta’a.
6 Ta’us akkuma yeroo mukni ejersaa dha’amuutti,

qarmii guuruun amma iyyuu jira;
fiixee ol aanu irratti gumaa lama yookaan sadiitu hafa;
damee gad aanu irratti gumaa afur yookaan shantu hafa”
jedha WAAQAYYO, Waaqni Israa’el.

7 Gaafas namoonni gara Uumaa isaanii ilaalu;
ija isaaniis gara Qulqullicha Israa’el deebifatu.
8 Isaan gara iddoo aarsaa,
gara hojii harka isaanii hin ilaalan;
isaan galma waaqeffannaa Aasheeraa,
iddoo aarsaa ixaanaa kan quba isaaniitiin tolchanis
wayittuu hin lakkaa’an.
9 Gaafas magaalaawwan jajjaboon isaan sababii Israa’elootaatiif keessaa ba’an sun
akkuma lafa bosona keessaa kan namni dhiisee deemee ta’u. Hundi ni onu.
10 Ati Fayyisaa kee, Waaqa irraanfatteerta;
ati kattaa, da’oo kee hin yaadanne.
Kanaafuu yoo biqiltuu akka malee gaarii dhaabbattee
muka wayinii kan alaa dhufe biqilfatte iyyuu,
11 yoo guyyuma dhaabde sana akka inni biqilu goote iyyuu
ganama yeroo dhaabdetti akka inni daraaru goota;
garuu guyyaa dhukkubaa fi dhibee hin fayyineetti
wayinichi homaa hin fayyadu.

12 Saboota baay’ee kanneen aaraniif wayyoo!
Isaan akkuma galaana aaruutti aaru!
Saboota wacaniif wayyoo!
Isaan akkuma bishaan guddaan huursutti huursu.
13 Saboonni akkuma huursaa bishaan cabsee deemuu
yoo huurse iyyuu yommuu inni isaanitti dheekkamu
isaan baqatanii badu;
akkuma habaqiin tulluu irraa fuula bubbee dura ari’amu,
akkuma awwaarri fuula bubbee hamaa duraa bittinnaa’u
isaan ni bittinnaa’u.
14 Galgala sodaan akkuma tasaa isaan qabatti!
Isaan utuu lafti hin bari’in ni dhabamu!
Kun qooda warra nu booji’ee,
hiree warra nu saamee ti.

# 18

*Raajii Itoophiyaadhaan Mormu*

1 Biyya lageen Itoophiyaatiin gamaa
kan qoochoo isheetiin shaakkiftuuf wayyoo;
2 isheen galaana irra,
bidiruu dhallaadduutiin ergamoota bishaan irra ergiti.

Yaa ergamoota ariifattoota,
gara saba dhedheeroo kanneen gogaan isaanii lallaafuu,
gara saba fagoo fi dhi’oottis sodaatamuu,
saba jabaa fi afaan isaa hin beekamne
kan biyyi isaanii lageeniin gargar qoodamte sanaa dhaqaa.

3 Isin uummanni addunyaa hundi,
warri lafa irra jiraattan yeroo mallattoon gaara irratti
ol qabamu ni argitu;
yeroo malakanni afuufamus
inuma dhageessu.
4 WAAQAYYO akkana naan jedhe:
"Ani akkuma ho'a ifa aduu keessatti calaqqisuu,
akkuma duumessa fixeensaa kan ho'a yeroo midhaan galchaniitti
cal'isee iddoo jireenya kootii nan ilaala."
5 Haamaa midhaaniitiin dura, yeroo hudhaan daraaree
daraaraan sunis ija wayinii bilchaatee ta'utti
inni billaa ittiin qoraniin lataa isaa ni ciccira;
damee babal'ates irraa murmuree ni balleessa.
6 Isaan hundinuu allaattii tulluu kan waa adamsuu fi
bineensota bosonaatiif dhiifamu;
allaattiin bona guutuu,
bineensonni bosonaas ganna guutuu isaan nyaatu.
7 Gaafas saba dhedheeroo kanneen gogaan isaanii lallaafu irraa,
saba fagoo fi dhi'oottis sodaatamu irraa,
saba jabaa fi afaan isaa hin beekamne
kan biyyi isaanii lageeniin gargar qoodamte irraa
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uuf kennaan ni fidama;
kennaan sunis gara Tulluu Xiyoon, iddoo Maqaan WAAQAYYO Waan hunda danda'u
jiraatutti ni fidama.

# 19

*Raajii Gibxiin Mormu*

1 Raajii Gibxiin mormu:
kunoo WAAQAYYO duumessa
saffisaa yaabbatee gara Gibxi dhufaa jira.
Waaqonni Gibxi tolfamoon fuula isaa duratti hollatu;
garaan warra Gibxis isaan keessatti baqa.

2 "Ani warra Gibxi walitti nan naqa;
obboleessi obboleessa isaa, ollaan ollaa isaa,
magaalaan tokko magaalaa kaan,
mootummaanis mootummaa kaan lola.
3 Hafuurri warra Gibxi isaan keessatti jeeqama;
anis karoora isaanii nan fashaleessa;
isaanis waaqota tolfamoo fi hafuurota warra du'anii,
ilaaltotaa fi eker dubbistoota gorsa gaafatu.
4 Anis dabarsee warra Gibxi
humna gooftaa garaa jabaatu tokkootti nan kenna;
mootiin hamaan tokkos isaan ni bulcha" jedha Gooftaan,
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u.

5 Bishaanonni galaanaa ni gogu;
lagni isaas ni hir'ata; ni gogas.
6 Burqaawwan isaa ni ajaa'u;
lageen Gibxiis qal'atanii gogu.
Shambaqqoo fi dhallaadduun ni coollagu;

7 biqiltuuwwan ededa Abbayyaa,
kanneen qarqara lagichaa jiranis ni coollagu.
Wanni laga Abbayyaa biratti facaafame hundi ni goga;
bubbeedhaan fudhatama; deebi'ees hin argamu.
8 Qurxummii qabdoonni,
warri hokkoo Abbayyaa keessa buusan
hundi aadanii boo'u;
warri kiyyoo bishaanitti darbatanis ni dadhabu.
9 Warri quncee talbaa iddame qopheessan,
wayyaa dhooftonnis abdii kutatu.
10 Warri wayyaa dha'an mataa buusu;
warri mindaadhaan hojjetan hundis ni gaddu.

11 Qondaaltonni Zoo'aan gowwoota;
gorsitoonni Fara'oon ogeeyyiinis
gorsa faayidaa hin qabne kennu.
Isin akkamitti Fara'ooniin,
"Ani namoota ogeeyyii keessaa tokkoo dha;
ani barataa moototа durii ti" jechuu dandeessu?

12 Namoonni keessan ogeeyyiin amma eessa jiru?
Mee isaan waan Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u
Gibxiin mormuudhaan karoorfate;
isinitti haa himan; haa beeksisanis.
13 Qondaaltonni Zoo'aan gowwoota ta'aniiru;
bulchitoonni Memfiis gowwoomfamaniiru;
gurguddoonni saba ishee
Gibxiin karaa irraa jal'isaniiru.
14 Waaqayyo hafuura nama hadoochu isaanitti dhangalaaseera;
isaan akkuma machaa'aan tokko hoqqisaa gatantaru sana
biyya Gibxi waan isheen hojjettu hunda keessatti
gatantarsan.
15 Wanni mataan yookaan eegeen, dameen meexxii
yookaan shambaqqoon,
Gibxiif gochuu danda'an tokko iyyuu hin jiru.
16 Bara sana warri Gibxi akka dubartii ta'u. Harka ol ka'e kan Waaqayyoon Waan
Hunda Danda'u isaanitti ol fudhatu sana arganii sodaan ni hollatu. 17 Biyyi Yihuudaas
warra Gibxi ni naasisa; namni maqaan Yihuudaa biratti dha'amu hundinuu sababii
waan Waaqayyoon Waan Hunda Danda'u isaanitti karoorfachaa jiru sanaatiif ni na'a.
18 Gaafas biyya Gibxi keessatti magaalaawwan shan afaan Kana'aan dubbatu;
isaanis Waaqayyoo Waan Hunda Danda'uuf amanamoo ta'uuf ni kakatu. Isaan
keessaa tokko Magaalaa Badiisaa jedhamti.
19 Gaafas wiirtuu Gibxi keessatti iddoon aarsaa tokko Waaqayyoof ni hojjetama;
daangaa biyyattii irrattis siidaan tokkoo Waaqayyoof ni dhaabama. 20 Kunis biyya
Gibxi keessatti Waaqayyoo Waan Hunda Danda'uuf mallattoo fi dhuga ba'umsa
ta'a. Yeroo isaan sababii cunqursitoota isaaniitiif gara Waaqayyootti iyyatanitti,
inni fayyisaa fi baraaraa tokko ergeefii isaan oolcha. 21 Kanaafuu Waaqayyo warra
Gibxitti of beeksisa; isaanis gaafas Waaqayyoon ni beeku. Isaanis qalmaa fi kennaa
midhaaniitiin waaqeffatu; Waaqayyoofis ni wareegu; wareega sanas ni baafatu.
22 Waaqayyo biyya Gibxi ni rukuta; rukutees ni fayyisa. Isaan gara Waaqayyootti
ni deebi'u; innis kadhannaa isaaniitiif deebii kennee isaan fayyisa.

[23] Gaafas Gibxii hamma Asooritti karaa guddaa tokkotu jiraata. Warri Asoor gara
Gibxi, warri Gibxis gara Asoor ni dhaqu. Warri Gibxii fi warri Asoor walii wajjin ni
waaqeffatu. [24] Israa'el bara sana keessa Gibxii fi Asooritti dabalamtee sadaffaa taati;
kunis lafa irratti eebba ta'a. [25] WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'us, "Gibxi sabni
koo, Asoor hojiin harka kootii fi Israa'el dhaalli koo haa eebbifaman" jedhee isaan
eebbisa.

# 20

*Raajii Gibxii fi Itoophiyaadhaan Mormu*

[1] Bara ajajaan muummichi Sargoon mooticha Asooriin ergame sun gara Ashdood
dhufee lolee ishee qabate sana keessa, [2] yeroodhuma sanatti WAAQAYYO karaa
Isaayyaas ilma Amoosiitiin dubbate. Innis, "Uffata gaddaa dhagna kee irraa, kophees
miilla kee irraa baasi" jedheen. Innis akkasuma godhe; qullaa fi miilla duwwaa asii
fi achi deeme.
[3] Kana irratti WAAQAYYO akkana jedhe; "Akkuma garbichi koo Isaayyaas, akka
Gibxii fi Itoophiyaaf mallattoo fi akeekkachiisa ta'uuf jedhee waggaa sadii qullaa
fi miilla duwwaa deeme sana, [4] akkasuma mootiin Asoor booji'amtoota Gibxii fi
baqattoota Itoophiyaa dargaggeessaa fi jaarsa, qullaa fi miilla duwwaa hambisee
teessuma isaanii illee qullaa godhee fudhatee deeme; kun warra Gibxiitiif qaanii dha.
[5] Warri Itoophiyaa amanatanii Gibxiin boonan ni sodaatu; ni qaana'us. [6] Gaafas warri
qarqara galaanaa irra jiraatan akkana jedhu; 'Warra nu itti irkanne, warra mooticha
Asoor jalaa nu baasu jennee gargaarsaaf itti baqanne sana irra waan ga'e mee ilaalaa!
Yoos nu akkamitti jalaa ba'uu dandeenya?' "

# 21

*Raajii Baabiloniin Mormu*

[1] Raajii Gammoojjii Galaana bira jirtuun mormu:
Akkuma bubbeen hamaan biyya kibbaa haxaa'u sana,
weeraraan tokko gammoojjiidhaa,
biyya sodaachisaa keessaa ni dhufa.

[2] Mul'anni hamaan tokko natti mul'ateera:
gantuun ni ganti; saamtuunis ni saamti.
Yaa Eelaam, ol ba'i! Yaa Meedee marsii qabi!
Ani aaduu isheen fidde hunda nan xumura.

[3] Kana irratti dugdi na cite;
akkuma dubartii ciniinsifattuu muddamni na qabe;
ani waanan dhaga'een nan holladhe;
waanan argeenis nan raafame.
[4] Qalbiin koo ni raafame;
sodaan na hollachiise;
dimimmisni ani hawwe sun
sodaatti na jalaa geeddarame.

[5] Isaan maaddii qopheessu;
afaa diriirsu;
ni nyaatu, ni dhugu!
Isin qondaaltonni ka'aa;
gaachanas zayitii dibaa.
[6] Gooftaan akkana naan jedha:

“Dhaqiitii eegduu tokko ramadi;
innis waan argu haa himu.
7 Inni yommuu warra farda yaabbatan
kanneen lama lamaan yaa’an,
warra harree yaabbatan
yookaan warra gaala yaabbatan argutti,
haa dammaqu;
guutumaan guutuutti haa dammaqu.”
8 Eegduun sunis akkana jedhee iyye;
“Yaa gooftaa ko, ani guyyuma guyyaan
qooxii eegumsaa irra nan dhaabadha;
halkan hundas ani hojii koo irra nan tura.
9 Kunoo, warri farda yaabbatan,
lama lamaan dhufaa jiru;
inni akkana jedhee deebise:
‘Baabilon jigdeerti; jigdeerti!
Fakkiiwwan waaqota ishee hundinuu
burkutaa’anii lafa dha’aniiru!’ ”

10 Yaa saba koo warra oobdii midhaanii irratti dha’amtan,
ani waan WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u,
Waaqa Israa’el irraa dhaga’e isinittin hima.

### *Raajii Edoomiin mormu*

11 Raajii Duumaan mormu:
Namni tokko See’iirii na waamee,
“Yaa eegduu, halkan kun bari’uuf hammamtu hafe?
Yaa eegduu, halkan kun bari’uuf hammamtu hafe?” jedhe.
12 Eegduun sunis,
“Bari’uu ga’eera; garuu deebi’ee dhi’a.
Yoo gaafachuu barbaaddan gaafadhaa;
garuu deebi’aa kottaa” jedhee deebisa.

### *Raajii Biyya Arabaatiin Mormu*

13 Raajii biyya Arabaatiin mormu:
Isin imaltoonni Dedaan
kanneen bosona Arabaa keessa qubattan,
14 warra dheeboteef bishaan fidaa;
isin warri Teemaa keessa jiraattan,
baqattootaaf waan nyaatan fidaa.
15 Isaan goraadee jalaa,
goraadee luqqifame jalaa,
xiyya aggaamame jalaa,
ho’a waraanaa jalaa baqataniiruutii.
16 Gooftaan akkana naan jedhe: “Akkuma waggoota hojjetaa qaxaramaa tokkootti
ulfinni Qeedaar hundinuu waggaa tokko keessatti ni dhuma. 17 Warra xiyya darbatan
keessaa kanneen hafan, gootonni Qeedaar muraasa ta’u.” WAAQAYYO Waaqni Israa’el
dubbateeraatii.

## 22

### *Raajii Waa’ee Yerusaalem*

1 Raajii waa’ee Sulula Mul’ataa:

Amma maaltu isin rakkisee
isin hundi fiixee manaatti ol baatan?
2 Yaa magaalaa wacaan guutamte,
yaa magaalaa jeeqamtuu fi fandalaltuu,
namoonni si jalaa qalaman goraadeedhaan hin ajjeefamne
yookaan waraana keessatti hin dhumne.
3 Hooggantoonni kee hundi walumaan baqatan;
isaan utuma xiyya hin darbatin qabaman.
Isin utuma diinni fagoo jiruu baqattan iyyuu
warri qabamtan hundi walumaan mana hidhaatti galfamtaniirtu.
4 Kanaafuu ani, “Ana irraa garagalaa;
ani hiqqifadhee nan boo’a.
Badiisa saba koo irratti
na jajjabeessuu hin yaalinaa” nan jedhe.

5 Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u,
Sulula Mul’ataa keessatti, guyyaa jeequmsaa,
dhidhiitamuutii fi burjaajii,
akkasumas guyyaa itti dallaa diiguutii fi
tulluuwwanittis iyyuu qaba.
6 Eelaam man’ee xiyyaa qabattee
gaariiwwanii fi abbootii fardaa fudhattee baati;
Qiiris gaachana ishee qabatti.
7 Sululawwan kee filatamoon gaariiwwaniin guutamaniiru;
abbootiin fardaas karra magaalattii irratti ramadamaniiru.

8 Gooftaan ittisa Yihuudaa irraa mulqeera.
Atis gaafas mi’a lolaa kan Masaraa Bosonaa
keessa jiru sana abdatta.
9 Dallaan Magaalaa Daawit
karaa baay’ee akka urame argitaniirtu;
Haroo Gad aanaa keessattis
bishaan kuufattaniirtu.
10 Isin manneen Yerusaalem lakkooftan;
dallaa ishee dhagaa jabeessuuf jettaniis manneen sana diigdan.
11 Bishaan Haroo Moofaatiif dallaa lamaan gidduutti
kuusaa bishaanii tolchitan;
garuu isin gara Isa waan sana hojjetee hin ilaalle;
yookaan Isa bara dheeraan dura waan sana karoorseef
ulfina hin kennine.

12 Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u,
akka ati boossee wawwaattuuf,
akka ati rifeensa mataa keetii of irraa cirtee
wayyaa gaddaa uffatuuf guyyaa sana si waame.
13 Qooda kanaa garuu gammachuu fi fandalaluu,
loon gorra’uu fi hoolota qaluu,
foon nyaachuu fi daadhii wayinii dhuguutu jira!
Isin, “Kottaa ni nyaannaa; ni dhugnas;
bor ni duunaatii!” jettu.

14 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u utuma gurri koo dhaga'uu waan kana naa
ibse: "Hamma guyyaa du'a keessaniitti cubbuun kun isin irraa hin haqamu" jedha
Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u.
15 Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u akkana jedha:
"Dhaqiitii itti gaafatamaa kanaan,
Shebnaa, bulchaa masaraa mootummaatiin akkana jedhi:
16 Ati maal asii hojjetta?
Akka ati iddoo kanatti iddoo awwaalaa qopheeffattu,
akka iddoo ol ka'aa irratti boolla awwaala keetii qotattu,
akka kattaa keessatti iddoo boqonnaa keetii tolchattu
eenyutu eeyyama siif kenne?

17 "Yaa nama jabaa kunoo,
WAAQAYYO jabeessee qabee si darbachuuf jira.
18 Inni akkuma kubbaa furuursee
biyya bal'aa tokko keessa si buusa.
Yaa salphina mana gooftaa keetii, ati achitti duuta;
gaariiwwan kee mimmiidhagoonis achitti hafu!
19 Ani aangoo kee irraa sin buusa;
atis taayitaa kee irraa ni ari'amta.
20 "Ani gaafas garbicha koo Eliiyaaqiimin ilma Hilqiyaa nan waama. 21 Ani uffata
kee isatti nan uffisa; sabbata kee mudhii isaatti nan hidha; aangoo kees dabarsee
isaaf nan kenna. Inni warra Yerusaalem keessa jiraatanii fi mana Yihuudaatiif abbaa
ni ta'a. 22 Ani furtuu mana Daawit gatiittii isaa irra nan kaa'a; waan inni banu
namni tokko iyyuu cufuu hin danda'u; waan inni cufus namni tokko iyyuu banuu
hin danda'u. 23 Ani akkuma fannoo waa itti fannisan tokkootti iddoo jabaa irra
isa nan dhaaba; innis mana abbaa isaatiif teessoo ulfinaa ni ta'a. 24 Isaanis kabaja
mana abbaa isaa hunda, ijoollee isaatii fi ijoollee ijoollee isaa, mi'a xixinnaa kan
waciitiidhaa jalqabee hamma okkoteetti jiru hunda isatti fannisu."
25 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u akkana jedha; "Gaafas qofoon iddoo jabaa
dhaabame sun ni buqqa'a; muramee lafa bu'a; ba'aan isatti fannifame sun harca'ee
caccaba." WAAQAYYO waan kana dubbateeraatii.

# 23

*Raajii Waa'ee Xiiroos*

1 Raajii waa'ee Xiiroos:
Yaa dooniiwwan Tarshiishi wawwaadhaa!
Xiiroos barbadooftee
mana yookaan buufata doonii malee hafteertii.
Biyya Qophroos
oduun isaan qaqqabeera.

2 Isin jiraattoonni qarqara galaanaatii fi
daldaltoonni Siidoonaa, warri galaana irra marmaaran
isin sooromsan cal'isaa.
3 Midhaan Shihoor
bishaanota gurguddaa irraan dhufe;
oomishni Abbayyaa Xiiroosiif galii ture;
isheenis lafa gabaa kan sabootaa taate.

4 Yaa Siidoonaa, yaa da'annoo galaanaa qaana'i;

galaanni akkana jedhee dubbateeraatii:
“Ani hin ciniinsifanne yookaan hin deenye;
ilmaan hin horanne yookaan intallan hin guddifanne.”
5 Yeroo oduun gara Gibxi dhufutti
isaan gabaasa Xiiroos irraa dhufuun ni dhiphatu.

6 Isin gara Tarshiishitti ce’aa;
yaa warra qarqara galaanaa jiraattan wawwaadhaa.
7 Magaalaa dulloomtuun durii,
kan miilli ishee ishee fuudhee,
akka isheen biyya fagoo keessa qubattuuf ishee geesse kun,
magaalaa kee ishee fandalaltuudhaa?
8 Xiiroos ishee gonfoo nama gonfachiiftu
kan daldaltoonni ishee ilmaan moototaa ta’an
kan daldaltoonni ishee lafa irratti kabajamoo ta’anitti
eenyutu waan kana karoorfate?
9 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u
of jaja ishee kan ulfina ishee hunda keessa jiru gad deebisuu fi
warra lafa irratti kabajaman hunda salphisuuf
waan kana karoorfateera.

10 Yaa Intala Tarshiish,
ati si’achi buufata doonii hin qabaattuutii,
lafa kee hamma Abbayyaa bira ga’utti qotadhu.
11 WAAQAYYO harka isaa galaana irra qabee
mootummoota hollachiiseera.
Inni akka da’annoowwan ishee diigamaniif
waa’ee Kana’aan ajaja kenneera.
12 Innis akkana jedha; “Yaa Durba Siidoonaa,
ati kana caalaa hin fandalaltu!

“Ka’iitii gara Qophiroositti ce’i;
ati achitti iyyuu boqonnaa hin argattu.”
13 Mee biyya Baabilonotaa ilaali;
uummanni kun amma seenaa hin qabu!
Warri Asoor akka isheen
iddoo jireenya uumamawwan gammoojjii taatu godhan;
isaan siree eegumsaa ijaarratan;
da’annoowwan ishee qullaa hambisan;
ishees ni barbadeessan.

14 Yaa dooniiwwan Tarshiish wawwaadhaa;
da’annoon keessan barbadeeffameeraatii!
15 Yeroo sanaa jalqabee Xiiroos hamma waggaa torbaatamaatti ni dagatamti; kunis
bara jireenya mootii tokkoo ti. Dhuma waggaa torbaatamman sanaatti garuu akkuma
sirba sagaagaltuu tokkoof sirbame sanaatti Xiiroos irra ga’a:
16 “Yaa sagaagaltuu irraanfatamtuu,
baganaa qabadhuutii magaalaa keessa naanna’i;
ati akka yaadatamtuuf baganaa sirriitti rukuti;
sirba baay’ee sirbi.”
17 Dhuma waggaa torbaatamaatti WAAQAYYO Xiiroosin ni yaadata; isheenis gara
daldala isheetti deebitee mootummoota fuula lafaa irra jiran hunda wajjin sagaagalti.

[18] Ta’us bu’aan isheetii fi wanni isheen argattu WAAQAYYOOF addaan baafama; hin
kuufamu; walittis hin qabamu. Bu’aan ishees warra fuula Waaqaa dura jiraataniif
nyaata ga’aa fi uffata babbareedaa ta’a.

# 24

### *WAAQAYYO Lafa Ni barbadeessa*

[1] Kunoo, WAAQAYYO lafa ni onsa;
ishees ni barbadeessa;
inni ishee gaggaragalchee
warra ishee irra jiraatan bittinneessa;
[2] Kan saba irra ga’u luba irra,
kan garbicha irra ga’u gooftaa irra,
kan garbittii irra ga’u giiftii irra,
kan bitataa irra ga’u gurgurataa irra,
kan isa ergifatu irra ga’u, isa ergisu irra,
kan liqeeffataa irra ga’u, isa liqeessu ni ga’aatii.
[3] Lafti guutumaan guutuutti ni onti;
guutumaan guutuuttis ni saamamti.
WAAQAYYO waan kana dubbateeraatii.

[4] Lafti ni gogdi; bifti ishees ni geeddarama;
addunyaan ni bututti; bifti ishees ni geeddarama;
gurguddoonni saba lafaas ni bututu.
[5] Lafti saba isheetiin xuroofteerti;
isaan seeraaf ajajamuu didan;
sirnaan buluu didanii
kakuu bara baraa sana cabsaniiru.
[6] Kanaafuu abaarsi lafa balleessa;
sabni ishees balleessaa isaatiif adabama.
Kanaafuu jiraattonni lafaa ni gubatu;
nama muraasatu hafa.
[7] Daadhiin wayinii haaraan ni goga;
mukni wayiniis ni coollaga;
warri gammadan hundinuu ni aadu.
[8] Dibbeen sagaleen isaa namatti tolu ni cal’isa;
wacni fandalaltootaa qabbanaa’eera;
baganaan nama gammachiisus cal’iseera.
[9] Isaan si’achi sirbaa daadhii wayinii hin dhugan;
dhugaatiin jabaan warra isa dhuganitti ni hadhaa’a.
[10] Magaalaan diigamte sun ontee hafti;
akka namni tokko iyyuu ol hin seenneef manni hundi ni cufama.
[11] Isaan daadhii wayinii dhabanii daandii irratti boo’u;
gammachuun hundi gaddatti geeddarama;
ililchuun hundis lafa irraa dhabama.
[12] Magaalaan sun diigamtee hafti;
karri ishees ni caccaba.
[13] Akkuma yeroo mukni ejersaa dha’amuu fi
akkuma yeroo wayiniin galfamutti qarmiin hafu ta’u sana,
lafa irratti saboota gidduuttis
akkasuma ni ta’a.

14 Isaan sagalee ol fudhatanii gammachuun iyyu;
gama lixa biiftuutti ulfina WAAQAYYOO labsu.
15 Kanaafuu isin ba'a biiftuu irraa WAAQAYYOOF ulfina kennaa;
qarqara galaanaattis maqaa WAAQAYYO
Waaqa Israa'el leellisaa.
16 Nu moggaa lafaa irraa faarfannaa,
"Isa qajeelaa sanaaf ulfinni haa ta'u" jedhu dhageenya.

Ani garuu akkanan jedhe;
"Ani bade, ani bade! Anaaf wayyoo!
Gantoonni ni ganu!
Gantoonni gantummaa isaaniitiin ganu!"
17 Yaa uummata lafa irraa,
sodaan, qilee fi kiyyoon si eeggatu.
18 Namni sagalee goolii baqatu kam iyyuu
qilee keessa bu'a;
namni qilee keessaa ol ba'u kam iyyuu
kiyyoodhaan qabama.

Foddaan samiiwwanii banameeraatii
hundeewwan lafaa ni raafamu.
19 Lafti baqaqxeerti;
lafti gargar baateerti;
lafti akka malee raafamteerti;
20 Lafti akkuma nama machaa'ee gatantarti;
isheen akkuma daasii bubbeedhaan raafamti;
yakki fincila ishee akka malee itti ulfaateera;
isheen ni jigdi; deebitees hin kaatu.

21 WAAQAYYO gaafas
humnoota samii, samii irratti,
mootota lafaa immoo lafa irratti ni adaba.
22 Isaan akkuma hidhamtootaa
boolla keessaatti walitti qabamu;
manni hidhaa itti cufamee
guyyaa hedduu booddee adabamu.
23 Ji'i ni burjaajofti; aduunis ni qaanofti;
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u,
Tulluun Xiyoon irrattii fi Yerusaalem keessatti
fuula maanguddootaa duratti ulfinaan ni mo'aatii.

# 25

*WAAQAYYOOF Galata Galchuu*

1 Yaa WAAQAYYO, ati Waaqa koo ti;
waan ati amanamummaa kee kan mudaa hin qabneen
wantoota dinqisiisoo
bara dheeraan dura karoorfame hojjetteef,
ani ulfina siif nan kenna; maqaa kees nan leellisa.
2 Ati magaalaa sana tuullaa dhagaa,
magaalaa dallaa jajjabaa qabdu immoo diigamaa goote;

magaalaan da’annoo Namoota Ormaa turte sun
si’achi hin jiraattu;
isheen gonkumaa deebitee hin ijaaramtu.
3 Kanaafuu namoonni jajjaboon si kabaju;
magaalaawwan saboota gara jabeeyyii si sodaatu.
4 Ati hiyyeeyyiif lafa itti baqatan,
rakkataaf immoo dhiphina isaa keessatti da’oo,
bubbee hamaa jalaa iddoo itti baqatu,
ho’a jalaa immoo iddoo itti qabbaneeffatu turte.
Hafuurri gara jabeeyyiin baafatan,
akkuma bubbee hamaa dallaa dhagaa dha’uutii fi
5 akkuma ho’a gammoojjii ti.
Ati waca alagootaa ni cal’isiifta;
akkuma ho’i gaaddisa duumessaatiin qabbanaa’u sana,
sirbi gara jabeeyyiis ni qabbanaa’a.

6 Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u
tulluu kana irratti uummata hundaaf cidha nyaata gaarii,
affeerraa daadhii wayinii gogee,
foon coomaa fi daadhii wayinii filatamaa ni qopheessa.
7 Inni tulluu kana irratti,
haguuggii uummata hundatti haguugame,
golgaa saba hundatti golgame ni balleessa;
8 inni bara baraan du’a ni liqimsa.
Waaqayyo Gooftaan fuula hunda irraa imimmaan ni haqa;
inni lafa hunda irratti salphina saba isaa ni balleessa.
Waaqayyo waan kana dubbateeraatii.
9 Isaan gaafas akkana jedhu;
“Dhugumaan kun Waaqa keenya;
nu isa amananne; innis nu oolche.
Kun Waaqayyoo dha; nu isa amananne;
kottaa fayyisuu isaatti gammannaa; ni ililchinas.”

10 Harki Waaqayyoo tulluu kana irra ni boqota;
Mo’aab garuu akkuma cidiin dikee keessatti dhidhiitamu sana
isa jalatti dhidhiitama.
11 Innis akkuma namni bishaan daaku tokko daakuuf harka bal’ifatu sana,
gaara sana irratti harka isaa ni bal’ifata.
Waaqnis of tuulummaa isaanii,
ogummaa harka isaanii wajjin gad deebisa.
12 Inni dallaa kee ol dheeraa dhagaan ijaarame sana,
akka inni duufu godha;
lafatti gad jigsees biyyootti dabala.

# 26

*Faarfannaa Galataa*

1 Bara sana faarfannaan kun biyya Yihuudaa keessatti faarfatama:
Nu magaalaa jabaa qabna;
Waaqnis fayyina,
dallaa eegumsa isheetii fi da’annoo ishee taasisa.

2 Akka sabni qajeelaan,
sabni amanamummaadhaan jiraatu ol seenuuf,
karrawwan banaa.
3 Inni sitti irkateeraatii,
nama yaadni garaa isaa si wajjin jiru,
ati nagaa hir'ina hin qabneen isa eegda.
4 Sababii WAAQAYYO, WAAQAYYO mataan isaa,
Kattaa bara baraa ta'eef, bara baraan WAAQAYYOON amanadhaa.
5 Inni warra iddoo ol ka'aa irra jiraatan gad qaba;
magaalaa tabba irra jirtu gad buusa;
lafatti gatees awwaaratti ishee maka.
6 Miilli, miilli warra hacuucamee,
faanni hiyyeeyyii ishee dhidhiita.

7 Daandiin nama qajeelaa wal qixxaataa dha;
yaa Isa Tolaa, ati qajeeltotaaf karaa baafta.
8 Yaa WAAQAYYO,
nu karaa seera keetii irra deemaa si eegganna,
maqaan keetii fi beekamuun kee
hawwii garaa keenyaa ti.
9 Halkan lubbuun koo si yaaddi;
ganamas hafuurri koo baay'isee si barbaada.
Yeroo murtiin kee gara lafaa dhufutti,
uummanni addunyaa qajeelummaa barata.
10 Namni hamaan gara laafinni godhamuuf iyyuu,
qajeelummaa hin baratu;
biyya qajeelummaan jirutti iyyuu inni ittuma fufee jal'ina hojjeta;
surraa WAAQAYYOOS hin hubatu.
11 Yaa WAAQAYYO, harki kee ol kaafameera;
isaan garuu isa hin argan.
Isaan hinaaffaa ati saba keetiif qabdu arganii haa qaana'an;
ibiddi diinota keetiif kuufame sun isaan haa balleessu.

12 Yaa WAAQAYYO, ati nagaa nuuf kenniteerta;
ati hojii keenya hunda nuuf hojjetteertaatii.
13 Yaa WAAQAYYO Waaqa keenya,
si malee gooftonni biraa nu bulchaniiru;
nu garuu maqaa kee qofa ulfeessina.
14 Isaan amma du'aniiru; si'achi hin jiraatan;
isaan gaaddidduu dha; deebi'aniis hin ka'an.
Ati isaan adabde; isaan balleessites;
yaadannoo isaanii hundas ni barbadeessite.
15 Yaa WAAQAYYO, ati saba baay'isteerta;
ati saba baay'isteerta;
ati ofii keetiif ulfina argatteerta;
daarii biyyaa hunda bal'ifteerta.

16 Yaa WAAQAYYO, isaan yeroo dhiphinaatti si barbaaddatan;
yeroo ati isaan adabdetti
isaan kadhannaa gad roobsan.
17 Akkuma dubartiin ulfaa yeroo da'uu geessutti,

ciniinsuudhaan wixxirfattee iyyitu sana,
yaa WAAQAYYO, nus fuula kee duratti akkasuma taaneerra.
18 Nu ulfoofnee, ciniinsuudhaan wixxirfanne;
nu garuu bubbee deenye.
Nu lafaaf fayyina hin fidne;
nu uummata addunyaa hin deenye.

19 Garuu namoonni kee kanneen du’an ni jiraatu;
dhagni isaaniis du’aa ni ka’a.
Isin warri biyyoo keessa jiraattan,
dammaqaatii gammachuudhaan ililchaa.
Fixeensi kee akkuma fixeensa ganamaa ti;
laftis warra du’an of keessaa baafti.

20 Yaa saba ko, kutaa mana keetti ol galiitii
duubaan balbala ofitti cufi;
hamma dheekkamsi isaa darbutti,
yeroo muraasaaf of dhoksi.
21 Kunoo, WAAQAYYO sababii cubbuu isaaniitiif
uummata lafa irraa adabuuf
iddoo jireenya isaatii ba’ee dhufaa jira.
Lafti dhiiga ishee irratti dhangalaafame sana ifa baafti;
si’achi warra ishee irratti qalaman hin dhoksitu.

# 27

### *Furamuu Israa’el*

1 Bara sana,
WAAQAYYO goraadee isaatiin,
goraadee isaa sodaachisaa, guddaa fi jabaa sanaan,
Lewaataan boficha mirmirfamu,
Lewaataan boficha marmaramu sana ni adaba;
inni jawwee galaana keessa jiraatu ni kukkuta.
2 Bara sana akkana jedhama;
“Waa’ee iddoo dhaabaa wayinii kan namatti tolu sanaa faarfadhaa;
3 ani WAAQAYYO isa nan eega;
ani yeroo hunda bishaan nan obaasa;
akka namni tokko iyyuu isa hin miineef
ani halkanii fi guyyaa isa nan eega.
4 Ani hin aaru.
Sokorruu fi qoraattiin waraanaaf utuu natti ba’anii!
Ani silaa isaanitti nan duula;
walitti qabees isaan nan guba.
5 Yoo kanaa achii isaan kooluu natti haa galan;
isaan na wajjin nagaa haa uuman;
eeyyee, isaan na wajjin nagaa haa uuman.”

6 Bara dhufuuf jiru keessa Yaaqoob hidda baasa;
Israa’el latee daraara;
ijaanis addunyaa hunda guuta.

7 WAAQAYYO akkuma warra ishee rukutan sana rukute,

ishee illee rukuteeraa?
Akkuma warri ishee ajjeesan sun ajjeefaman,
isheenis ajjeefamteertii?
8 Ati waraanuu fi ari'uudhaan isheedhaan wal falmite;
inni guyyaa bubbeen ba'aa bubbisutti,
bubbee isaa sodaachisaa sanaan ishee balleessa.
9 Yommuu inni dhagoota iddoo aarsaa hunda
akkuma dhagaa nooraa caccabsamee godhutti,
siidaan asheeraa yookaan iddoon aarsaa ixaanaa tokko iyyuu
dhaabatee hin hafu.
Akkasiinis balleessaan Yaaqoob ni haqamaaf;
kunis cubbuun isaa guutumaan guutuutti haqamuu isaa mirkaneessa.
10 Magaalaan dallaa jabaa qabdu ni onti;
akka gammoojjii gatamteetii fi dhiifamtee taati;
jabboonni achi dheeddi;
achis ni ciciifti;
jabboonni damee ishee qorqanii qullaa hambisu.
11 Dameen ishee yeroo gogutti irraa caccaba;
dubartoonnis dhufanii ibiddatti naqatu.
Uummanni kun hubannaa hin qabuutii;
kanaafuu Tolchaan isaanii garaa hin laafuuf;
Uumaan isaaniis isaaniif hin araaramu.
12 Bara sana WAAQAYYO Laga Efraaxiisii hamma laga Gibxitti midhaan dha'a; yaa
Israa'eloota, isin tokko tokkoon walitti ni qabamtu. 13 Bara sana malakanni guddaan
tokko ni afuufama. Warri Asoor keessatti badanii turanii fi warri Gibxi keessatti
faffaca'anii turan dhufanii tulluu qulqulluu irratti Yerusaalem keessatti WAAQAYYOON
waaqeffatu.

# 28

*Hooggantoota Efreemiif Wayyoo*

1 Gonfoo of tuulummaa kan machooftota Efreem sanaaf,
daraaraa coollagu kan ulfina miidhagina isaaniitiif,
kan mataa sulula gabbataa irra jiruuf,
magaalaa warra daadhii wayiniitiin fudhataman
sanaatiif wayyoo!
2 Kunoo, Gooftaan isa humna qabeessaa fi jabaa tokko qaba.
Inni akkuma cabbiitii fi bubbee waa balleessuu,
akkuma bokkaa jabaatii fi bishaan guutee irra dhangala'uu,
humnaan lafatti gad ishee darbata.
3 Gonfoon of tuulummaa,
machooftonni Efreem miilla jalatti dhidhiitamu.
4 Daraaraan harca'u, miidhaginni isaa kabajamaan,
kan mataa sulula gabbataa irra jiru sun,
akkuma muka harbuu utuu bonni hin ga'in bilchaatu sanaa ta'a;
namni isa argu hundi akkuma isa harka keessa galfateen
isa nyaatee fixa.

5 Bara sana WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
hambaa saba isaatiif,
gonfoo ulfinaa,
mi'a miidhaginaa ni ta'a.

6 Inni nama murtii kennuuf taa'uuf hafuura murtii qajeelaa ta'a;
warra karra irraa waraana deebisaniif immoo
madda jabinaa ta'a.

7 Jarri kuni daadhii wayiniitiin gatantaru;
dhugaatii jabaadhaan dogoggoru;
luboonnii fi raajonni dhugaatii jabaadhaan gatantaru;
daadhii wayiniitiin fudhatamu;
isaan dhugaatii jabaadhaan karaa irraa badu;
yeroo mul'ata arganittis ni dogoggoru;
yeroo murtii kennanittis ni dogoggoru.
8 Maaddiin hundinuu diddigaan guutameera;
iddoon hin xureeffamin tokko iyyuu hin jiru.

9 “Namni inni waa barsiisuu yaalu kun eenyu?
Inni eenyuuf ergaa isaa ibsaa jira?
Ijoollee aannan dhiifteef moo
ijoollee harma guuteef?
10 Ajaja irratti ajaja; ajaja irratti ajaja;
sirna irratti sirna; sirna irratti sirna;
asitti muraasa; achitti muraasa” ta'aatii.

11 Yoos Waaqni afaan alagootaatiin,
afaan hin beekamneenis saba kanatti ni dubbata;
12 inni akkana isaaniin jedhe;
“Kun iddoo boqonnaa ti; warri dadhaban haa boqotan;
kun iddoo aara galfannaa ti.”
Isaan garuu dhaga'uu didan.
13 Yoo akkasii dubbiin WAAQAYYOO akkana isaanitti ta'a;
ajaja irratti ajaja; ajaja irratti ajaja;
sirna irratti sirna; sirna irratti sirna;
asitti muraasa; achitti muraasa;
kunis akka isaan dhaqanii dugda duubatti kufanii fi
akka isaan caccabanii kiyyoodhaan qabamaniif.

14 Kanaafuu isin qoostonni
warri uummata Yerusaalem bulchitan dubbii
WAAQAYYOO dhaga'aa.
15 Isin akkana jettanii of tuultu; “Nu du'a wajjin kakuu galleerra;
sii'ool wajjinis walii galtee gooneerra.
Sababii nu soba da'oo godhannee,
sobas iddoo itti dhokannu godhanneef,
balaan hamaan yeroo dhufee lafa balleessutti
nu tuquu hin danda'u.”
16 Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha;
“Kunoo ani dhagaa tokko, dhagaa qoratame,
dhagaa golee gati jabeessa tokko
hundee mirkanaa'aadhaaf Xiyoon keessa nan kaa'a;
namni amanu kam iyyuu hin qaana'u.
17 Ani murtii qajeelaa funyoo ittiin safaran,
qajeelummaa immoo madaalii nan godhadha;

soba isin da’oo godhattan sana bokkaan jabaan ni balleessa;
bishaanis lafa isin itti dhokattan keessa ni lola’a.
18 Kakuun isin du’a wajjin godhattan ni diigama;
walii galteen isin sii’ool wajjin godhattanis
ni barbadeeffama.
Yeroo balaan hamaan dhufee lafa balleessutti
isin lafatti gad dhidhiitamtu.
19 Inni yeroo dhufu hunda isin fudhatee deema;
ganama ganama halkanii fi guyyaas,
inni waa balleessa.”

Ergaa kana hubachuun
naasuu guddaa namatti fida.
20 Sireen irratti diriirfachuuf baay’ee gabaabaa dha;
uffata halkanii ofitti marachuuf baay’ee dhiphaa dha.
21 Waaqayyo hojii isaa, hojii isaa haaraa sana hojjechuuf,
gocha isaa, gocha isaa kan hin beekamne sana hojjechuuf,
akkuma Tulluu Pheraaziim keessatti godhe sana ni ka’a;
akkuma Sulula Gibe’oonitti godhe sana ni ka’a.
22 Amma qoosaa keessan dhiisaa;
yoo akkas hin ta’in foncaan keessan isinitti jabaata;
Gooftaan, Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u,
labsii guutummaa biyyattii balleessuuf labse natti himeera.

23 Dhaggeeffadhaatii sagalee koo dhaga’aa;
qalbeeffadhaatii waan ani dubbadhu dhaga’aa.
24 Qonnaan bulaan tokko yeroo sanyii facaasuuf lafa qotatutti,
ittuma fufee qotaa?
Inni ittuma fufee biyyoo caccabsee bulleessaa?
25 Inni yeroo lafa wal qixxeessutti
dimbilaalaa fi kamuunii hin facaasuu?
Inni qamadii toora tooraan,
garbuu iddoo isaa irratti,
honboriis lafa qotiisaa isaa irratti hin facaasuu?
26 Waaqni isaa isa barsiisa;
karaa qajeelaa irras isa buusa.

27 Abasuudni gangalchaadhaan hin dha’amu;
kamuunii irras gommaan gaarii hin oofamu;
abasuudni uleedhaan,
insilaalli immoo shimalaan dha’ama.
28 Midhaan buddeena tolchuuf daakamuu qaba;
kanaafuu namni tokko bara baraan midhaan hin dha’u.
Inni gommaa gaarii kan midhaan dha’u midhaan sana irra oofu iyyuu
fardeen isaa midhaanicha hin bulleessan.
29 Wanni kun hundinuu Waaqayyoo Waan Hunda Danda’u,
isa mariidhaan dinqisiisaa,
ogummaadhaanis guddaa ta’e biraa dhufa.

# 29

*Magaalaa Daawitiif Wayyoo*

1 Yaa Arii’eel, yaa Arii’eel,
magaalaa Daawit keessa jiraate, siif wayyoo!
Waggaa irratti waggaa dabalaa;
ayyaanonni waggaas ittuma haa fufan.
2 Ta’us ani Arii’eelin marsee nan qaba;
isheen boossee ni wawwaatti;
isheen anaaf akka Arii’eel taati.
3 Ani karaa hundaan naannoo kee nan qubadha;
gamoowwaniinis sin marsa;
tuullaa biyyoos sitti naannessee nan dhaaba.
4 Ati gad deebifamtee lafa irraa ni dubbatta;
haasaan kee biyyoo keessaa guunguma.
Sagaleen kee akka sagalee ekeraa lafa keessaa ba’a;
haasaan kees biyyoo keessaa hasaasa.

5 Diinonni kee hedduun garuu akka awwaara bullaa’ee,
gara jabeeyyiin baay’eenis akka habaqii bubbeen fudhatee ta’u.
Akkuma tasaa utuu hin beekaminis,
6 WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u,
bakakkaadhaan, sochii lafaatii fi waca guddaadhaan,
bubbeedhaan, bubbee hamaa fi arraba ibidda waa fixuutiin ni dhufa.
7 Ergasii tuunni saboota hundaa kan Arii’eeliin lolu,
kan ishee fi da’oo ishee jajjaboo dha’ee marsee qabu,
akkuma abjuu,
akkuma mul’ata halkan keessaa ta’a;
8 kunis akkuma namni beela’e tokko akka waa nyaachaa jiru abjuudhaan argee
yeroo dammaqutti garuu amma illee beela qabu sana,
yookaan akkuma namni dheebote tokko akka waa dhugaa jiru abjuudhaan argee
yeroo dammaqutti garuu amma illee dheebuudhaan gaggabu sana ta’a.
Tuuta saboota hundaa
kan Tulluu Xiyoon lolu irrattis akkasuma ta’a.

9 Rifadhaa; dinqisiifadhaas;
of jaamsaatii nama waa hin argine ta’aa;
machaa’aa; garuu daadhii wayiniitiin hin ta’in;
gatantaraa; garuu dhugaatii jabaadhaan hin ta’in.
10 WAAQAYYO hirriba cimaa isinitti buuseera;
ija keessan raajota, cufeera;
mataa keessan ilaaltootas, haguugeera.
11 Mul’anni kun hundi isiniif dubbii kitaaba maramaa irratti chaappeffame malee
homaa miti. Yoo isin kitaaba kana nama dubbisuu danda’u tokkotti kennitanii,
“Maaloo mee waan kana dubbisi” jettaniin inni, “Sababii kitaabichi chaappeffameef
ani dubbisuu hin danda’u” jedhee deebisa. 12 Yookaan yoo isin kitaaba maramaa
kana nama dubbisuu hin dandeenye tokkotti kennitanii, “Maaloo mee waan kana
dubbisi” jettaniin inni, “Ani akkamitti akkan dubbisu hin beeku” jedhee deebisa.
13 Gooftaan akkana jedha:
“Uummanni kun afaan isaatiin natti dhi’aata;
hidhii isaatiinis na kabaja;
garaan isaa garuu narraa fagoo jira.
Waaqeffannaan isaan na waaqeffatanis
seera namni barsiisu qofaan tolfame.

14 Kanaafuu ani amma illee dinqii irratti dinqii dabalee
uummata kana nan dinqisiisa;
ogummaan nama ogeessaa ni bada;
hubannaan hubattootaas ni dhokata.”
15 Warra karoora isaanii
WAAQAYYO duraa dhokfachuuf jedhanii
qileetti gad bu’aniif,
warra hojii isaanii dukkana keessatti hojjetanii,
“Eenyutu nu arga? Eenyutu beeka?”
jedhanii yaadaniif wayyoo!
16 Kun jal’ina keessan,
suphee dhooftuu akka supheetti ilaaltu!
Wanni tolchame tokko nama isa tolcheen
“Inni na hin tolchine” jedhaa?
Okkoteen tokko suphee dhooftuudhaan,
“Inni homaa hin beeku” jechuu danda’aa?

17 Libaanoon yeroo gabaabaa keessatti
lafa qotiisaa gabbatte hin taatuu?
Lafti qonnaa gabbataan sunis bosona hin fakkaattuu?
18 Gaafas duudaan dubbii kitaaba maramaa ni dhaga’a;
iji nama jaamaa dimimmisaa fi dukkana keessatti ni arga.
19 Namni gad of qabu ammas WAAQAYYOTTI ni gammada;
rakkattoonnis Qulqullicha Israa’el sanaan ni gammadu.
20 Gara jabeeyyiin ni badu;
warri namatti qoosan ni barbadaa’u;
warri hammina hojjechuu jaallatan hundinuu ni balleeffamu;
21 warri dubbiin yakkamaa nama godhan,
warri namicha mana murtiitti namaaf falmu dura kiyyoo kaa’anii
sobaan dhugaa ba’uudhaan
murtii qajeelaa nama yakka hin qabnee jal’isan ni balleeffamu.
22 Kanaafuu WAAQAYYO inni Abrahaamin fure sun mana Yaaqoobiin akkana jedha:
“Yaaqoob si’achi deebi’ee hin qaana’u;
fuulli isaas si’achi hin dukkanaa’u.
23 Isaan yeroo gidduu isaaniitti ijoollee isaanii
hojii harka kootii sana arganitti,
maqaa koo ni qulqulleessu;
isaan qulqullummaa Qulqullicha Yaaqoob ni beeku;
Waaqa Israa’elis sodaachuudhaan ni jiraatu.
24 Warri dogoggoran hubannaa ni argatu;
warri guungumanis qajeelfama ni fudhatu.”

# 30

*Saba Fincilaadhaaf Wayyoo*

1 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ijoollee fincilan,
kanneen karoora karoora koo hin ta’in duukaa bu’an,
kanneen fedhii kootiin alatti walii galtee uuman,
kanneen cubbuu irratti cubbuu dabalaniif wayyoo;
2 kanneen utuu anaan hin mari’atin Gibxitti gad bu’an,
kanneen gaaddisa Gibxi da’oof,

eegumsa Fara’oon immoo
gargaarsaaf abdataniif wayyoo.
3 Eegumsi Fara’oon garuu qaanii isinitti ta’a;
gaaddisni Gibxis salphina isinitti fida.
4 Isaan yoo Zoo’aan keessatti qondaaltota qabaatan iyyuu,
yoo ergamoonni isaaniis Haanees ga’an iyyuu,
5 tokkoon tokkoon isaanii sababii uummata isaan hin fayyadne
kanneen qaanii fi salphina malee
gargaarsa yookaan bu’aa hin kennine
sanaatiif ni qaaneffamu.”
6 Raajii waa’ee bineensota Negeeb dubbatame:
Ergamoonni qabeenya isaanii harreetti,
meeshaa isaanii gaalatti fe’atanii
biyya leenci kormii fi leenci dhalaan,
bofti summii qabuu fi bofti darbatamu jiraatan,
lafa rakkinaa fi dhiphinaan guute keessa ba’anii
gara biyya homaa hin fayyadnee
7 gara Gibxi kan gargaarsi ishee gonkumaa bu’aa hin qabne sanaa dhaqu.
Kanaafuu ani, “Ra’aab, kan homaa hin fayyadne”
jedhee ishee nan waama.

8 Amma dhaqiitii gabatee irratti barreessiif;
kitaaba maramaa irratti katabiif;
kunis akka baroota dhufuuf jiran keessa
dhuga ba’umsa bara baraa ta’uuf.
9 Jarri kunneen uummata fincilaa, ijoollee sobduu dha;
ijoollee seera Waaqayyoo dhaga’uuf fedhii hin qabnee dha.
10 Isaan mul’ata argitootaan,
“Si’achi mul’ata tokko illee hin arginaa!” jedhu;
raajotaanis akkana jedhu;
“Isin si’achi mul’ata qajeelaa ta’e nutti hin himinaa!
Waan nama gammachiisu nutti himaa;
gowwoomsaa nuuf raajaa.
11 Karaa kana gad dhiisaa;
daandii kana irraa jal’adhaa;
Qulqullicha Israa’el fuula keenya duraa
dhabamsiisaa!” jedhu.
12 Kanaafuu Qulqullichi Israa’el akkana jedha:
“Sababii isin ergaa kana diddanii
nama hacuucuu abdattanii
gowwoomsaatti irkattaniif,
13 cubbuun kun, akkuma dallaa ol dheeraa
dhagaan ijaarame kan baqaqee bosose
kan utuu hin beekamin tasa jiguu isinitti ta’a.
14 Dallaan sun akkuma mi’a supheetti,
hamma wanni ittiin cilee boba’u
iddoo ibiddaatii fuudhan iyyuu hin hafnetti
yookaan hamma wanni ittiin boolla bishaanii keessaa
bishaan budduuqsan hin hafnetti akka malee caccabee burkutaa’a.”
15 Waaqayyo Gooftaan, Qulqullichi Israa’el akkana jedha:
“Deebi’uu fi boqochuudhaan ni fayyitu;

tasgabbaa’uu fi abdachuudhaan ni jabaattu;
isin garuu kana hin goone.
16 Isinis, ‘Lakki, nu fardeeniin ni baqanna’ jettu.
Kanaafuu isin ni baqattu!
Isin, ‘Nu fardeen ariifatanii fiiganiin ni gulufna’ jettu.
Kanaafuu warri isin gugsan ni saffisu!
17 Doorsisa nama tokkootiin, kumatu baqata;
doorsisa nama shaniitiin immoo,
isin hamma akkuma muka alaabaa fiixee tulluu irra jiruu,
akkuma faajjii gaara irra jiruu taatanii haftanitti
hundi keessan ni baqattu.”

18 Ta’us Waaqayyo isiniif arjoomuu barbaada;
isiniif na’uufis ni ka’a:
Waaqayyo Waaqa murtii qajeelaa ti.
Warri isa eeggatan hundi eebbifamoo dha.
19 Yaa saba Xiyoon, warri Yerusaalem keessa jiraattan, isin si’achi hin boossan.
Yeroo isin gargaarsa barbaachaaf gara isaatti iyyattanitti inni dhugumaan isiniif
arjooma! Akkuma dhaga’eenis deebii isiniif kenna. 20 Gooftaan buddeena rakkinaatii
fi bishaan dhiphinaa siif kennu illee barsiisaan kee si’achi hin dhokatu; ati ijuma
keetiin isa argita. 21 Ati yeroo gara mirgaatti yookaan gara bitaatti gortutti, dugda
kee duubaan sagalee, “Karaan kana; isa irra deemi” jedhu tokko gurri kee ni dhaga’a.
22 Ati ergasii waaqota kee tolfamoo kanneen meetiin irra dibamee fi fakkiiwwan kee
kanneen warqeen itti uffifame sana ni xureessita; akkuma huccuu xuraa’ummaas of
irraa isaan darbattee, “Asii badaa!” jettaan.
23 Inni sanyii ati lafatti facaafattuuf bokkaa siif kenna; midhaan lafti baaftus kan
misee fi kan akka malee baay’ate ta’a. Bara sana keessa loon kee lafa dheedaa bal’aa
irratti bobba’u. 24 Qotiyyoo fi harreen qotiisaa okaa filatamaa qorbii fi afarsaadhaan
qulqulleeffame nyaatu. 25 Guyyaa badiisa guddaatti, yeroo qooxiiwwan eegumsaa
jijjiganitti yaa’awwan bishaanii tulluuwwanii fi gaarran ol dhedheeroo hunda irra
yaa’u. 26 Gaafa Waaqayyo cabaa saba isaa hidhee warra madeesse illee fayyisutti ji’i
akkuma aduu ifa; ifni aduus akkuma ifa guyyaa torbaa dachaa torba ni ifa.
27 Kunoo Maqaan Waaqayyoo aarii boba’uu fi
duumessa gobbuu aaraatiin fagoodhaa dhufaa jira;
afaan isaa dheekkamsaan,
arrabni isaas ibidda gubee balleessuun guutameera.
28 Hafuurri inni baafatu akkuma laga guutee
hamma morma ga’utti ol ka’uu ti.
Inni gingilchaa badiisaatiin saboota gingilcha;
inni luugama karaa irraa isaan balleessu
ha’oo sabootaa keessa kaa’a.
29 Isin akkuma halkan ayyaana qulqulluu ayyaaneffattanitti,
faarfannaa ni faarfattu;
garaan keessan
akkuma yeroo namoonni ulullee afuufaa
gara tulluu Waaqayyootti,
gara Kattaa Israa’elitti ol ba’an sanaa ni gammada.
30 Waaqayyo akka namoonni sagalee isaa surra qabeessa sana dhaga’an ni godha;
inni akka isaan irree isaa
kan aarii guddaa fi ibidda gubee balleessuun,

bokkaa hamaadhaan, bakakkaa fi cabbiidhaan
dhufaa jiru argan ni godha.
31 Sagaleen WAAQAYYOO Asoorin ni caccabsa;
bokkuu isaatiinis isaan barbadeessa.
32 Adabbiin ulee kan WAAQAYYO
isaan irra buusu hundi sagalee dibbeetii fi
sagalee kiraaraa of keessaa qaba;
innis rukuttaa irree isaatiin waraana keessatti isaan lola.
33 Toofet dur qopheeffame;
inni mootichaaf qopheeffame.
Boolli ibiddaa isaa gad fageeffamee bal'ifamee hojjetame;
innis ibiddaa fi qoraaniin guutameera;
hafuurri afaan WAAQAYYOOTII ba'us
akkuma dinyii dhangala'uu akka inni boba'u godha.

# 31

*Warra Gibxin Abdataniif Wayyoo*

1 Warra gargaarsa barbaacha gara Gibxitti gad bu'aniif,
warra fardeen abdataniif
warra gaariiwwan isaaniitii fi
jabina abbootii fardeen isaanii amanatanii
garuu gara Qulqullicha Israa'el hin ilaalle
yookaan gargaarsa WAAQAYYOO hin barbaanneef wayyoo.
2 Ta'us inni ogeessa; balaas fiduu danda'a;
inni waan jedhe irraa duubatti hin deebi'u.
Inni mana hamootaatti,
warra namoota hammina hojjetan gargaaraniitti ni ka'a.
3 Warri Gibxi namootuma malee Waaqa miti;
fardeen isaaniis foonuma malee hafuura miti.
Yeroo WAAQAYYO harka isaa diriirfatutti,
inni gargaaru ni gufata;
inni gargaaramus ni kufa;
isaan lachuu walii wajjin badu.
4 WAAQAYYO akkana naan jedha:
"Akkuma leenci,
leenci guddaan tokko waan qabate irratti aadu sana,
tuunni tiksootaa guutuun isatti wal waammatan iyyuu,
inni iyya isaanii hin sodaatu;
yookaan waca isaaniitiin hin raafamu;
akkasuma WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
Tulluu Xiyoon irratti waraana banuuf gad bu'a.
5 Akkuma simbirroon mataa namaa irra naannoftu sana
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
Yerusaalemiif gaachana ta'a;
inni gaachana ta'eefii ishee baraara;
ishee bira darba; ishee oolchas."
6 Yaa saba Israa'el, gara Isa akka malee itti finciltan sanaatti deebi'aa. 7 Bara sana
tokkoon tokkoon keessan waaqota tolfamoo harki keessan cubbamaan sun meetii fi
warqee irraa hojjetee ture sana ni gattuutii.
8 "Asoor goraadee kan namaa hin ta'iniin kufti;
goraadeen nama du'a hin oollees isaan fixa.

Isaan goraadee duraa baqatu;
dargaggoonni isaaniis dirqamaan hojii humnaa hojjetu.
9 Da’oon isaanii sababii sodaatiif ni jiga;
ajajjoonni isaaniis faajjii waraanaa arganii hollatu”
jedha WAAQAYYO, inni ibiddi isaa Xiyoon keessa,
kan boolli ibidda isaa immoo Yerusaalem keessa jiru sun.

# 32

*Mootummaa Qajeelummaa*

1 Kunoo mootiin qajeelummaadhaan mo’a;
bulchitoonnis murtii qajeelaadhaan bulchu.
2 Tokkoon tokkoon namaa akkuma da’annoo bubbee jalaa itti da’atanii,
akkuma iddoo itti jabaa jalaa baqataniitti,
akkuma bishaan gammoojjii keessa yaa’uutii fi
akkuma gaaddisa kattaa guddaa kan lafa gogaa keessaa ni ta’a.

3 Ergasiis iji warra waa arguu hin dunuunfatu;
gurri warra waa dhaga’uus ni dhaggeeffata.
4 Qalbiin nama jarjaru tokkoo ni beeka; ni hubata;
arrabni giingees qajeelchee qulqulleessee dubbata.
5 Si’achi gowwaan ulfina qabeessa hin jedhamu;
addaggeenis baay’ee hin kabajamu.
6 Gowwaan sababii gowwummaa dubbatuuf
qalbiin isaa hammina hojjeta;
inni waan Waaqni hin jaallanne hojjeta;
waa’ee WAAQAYYOOS dogoggora odeessa;
inni nama beela’e beela hin baasu;
nama dheebote illee bishaan dhowwata.
7 Malli addaggee hammina;
inni utuma iyyanni rakkattootaa qajeelaa ta’ee jiruu
sobumaan hiyyeeyyii balleessuuf jedhee jal’ina yaada.
8 Namni ulfina qabeessi garuu karoora ulfaataa baasa;
hojii ulfina qabeessa sanattis ni jabaata.

*Dubartoota Yerusaalem*

9 Yaa dubartoota akka malee boontan
ka’aatii na dhaggeeffadhaa;
yaa intallan waan nagaa qabdan of seetan
waan ani jedhu dhaga’aa!
10 Isin warri waan nagaa qabdan of seetan
erga waggaan tokko xinnuma darbee booddee ni hollattu;
wayiniin ija hin kennu;
yeroon itti iji walitti qabamus hin dhufu.
11 Yaa dubartoota boontuuwwan isin holladhaa;
intallan waan nagaa qabdan of seetanis raafamaa!
Uffata keessan of irraa baasaatii
wayyaa gaddaa mudhii keessanitti hidhadhaa.
12 Lafa qotiisaa gaariif,
muka wayinii ija naqatuufis laphee keessan dha’aa;
13 lafa uummata koo kan qoraattii fi
sokorruun irratti guddatuuf laphee keessan dha’aa;

dhugumaan manneen gammachuu hundaa fi
magaalaa fandalaltuu kanaaf boo'aa.
14 Da'annoon ni ona;
magaalaan namni keessa guutes duwwaa hafti;
magaalaan jabduunii fi qooxiin eegumsaa bara baraan ni onu;
iddoo harreen diidaa keessa burraaqxuu fi iddoo bushaayeen itti bobba'an ta'u;
15 kunis hamma Hafuurri Qulqulluun
gubbaadhaa nurratti dhangalaafamuu fi
hamma gammoojjiin lafa qotiisaa gabbataa ta'ee
lafti qotiisaa gabbataan immoo bosona fakkaatutti ta'a.
16 Murtii qajeelaan gammoojjii keessa jiraata;
qajeelummaan immoo lafa qotiisaa gabbataa keessa jiraata.
17 Bu'aan qajeelummaa nagaa dha;
faayidaan qajeelummaa immoo utuu hin bir'atin
tasgabbiin bara baraan jiraachuu dha.
18 Sabni koo iddoo jireenyaa nagaa qabu,
manneen bultii sodaa hin qabne
iddoo boqonnaa jeequmsi hin jirre keessa jiraata.
19 Yommuu cabbiin bosona irratti bu'u,
magaalattiin guutumaan guutuutti gad deebiti;
20 isin warri qarqara laga hundaatti sanyii facaafattanii
loon keessanii fi harroota keessan
nagaan bobbaafattan akkam eebbifamoo dha.

# 33

### *Dhiphinaa fi Gargaarsa*

1 Yaa barbadeessaa,
ati kan hin barbadeeffamin siif wayyoo!
Yaa gantuu, ati kan hin ganamin siif wayyoo!
Ati yommuu barbadeessuu dhiiftutti ni barbadeeffamta;
yommuu ganuu dhiiftuttis ni ganamta.

2 Yaa WAAQAYYO, nu maari; nu si eeggannaa.
Ati ganama ganama jabina keenya,
yeroo dhiphinaatti immoo fayyina keenya nuuf ta'i.
3 Sagalee kakawwee keetiitiin, namoonni baqatu;
yeroo ati ol kaatutti, saboonni ni bittinnaa'u.
4 Yaa saboota, akkuma hawwaannisni walitti qabamu sana
boojuun keessan walitti qabama;
namoonnis akkuma tuuta hawwaannisaa irra u'utaalu.

5 WAAQAYYO ol ol jedha; inni ol gubbaa jiraataatii;
inni murtii qajeelaa fi qajeelummaadhaan Xiyoonin guuta.
6 Inni bara keetiif hundee amansiisaa, kuusaa fayyinaa,
kan ogummaatii fi kan beekumsaa ta'a;
WAAQAYYOON sodaachuun furtuu badhaadhummaa kanaa ti.

7 Kunoo gootonni isaanii sagalee ol fudhatanii daandii irratti iyyu;
ergamoonni nagaas hiqqifatanii boo'u.
8 Karaawwan gurguddaan onaniiru;

namni karaa irra deemu hin jiru.
Walii galteen diigameera;
dhuga baatonni ishee tuffatamaniiru;
namni tokko iyyuu hin kabajamu.
9 Lafti ni boossi; ni barbadoofti;
Libaanoon ni qaanofti; ni coollagdi;
Shaaroon akka gammoojjii taati;
Baashaanii fi Qarmeloos baala isaanii harcaafatu.

10 WAAQAYYO akkana jedha; "Ani amma nan ka'a;
ani amma ol ol nan jedha;
ani amma nan kabajama.
11 Isin habaqii ulfooftu; cidii deessu;
hafuurri isin baafattan ibidda gubee isin fixuu dha.
12 Namoonni akkuma nooraa gubamu;
akkuma qoraattii cirameettis ibiddi itti qabsiifama."

13 Isin warri fagoo jirtan waan ani hojjedhe dhaga'aa;
warri dhi'oo jirtanis humna koo beekaa!
14 Cubbamoonni Xiyoon keessaa ni sodaatu;
warri Waaqatti hin bulles hollachaa,
"Nu keessaa eenyutu ibidda waa balleessu wajjin jiraachuu danda'a?
Nu keessaa eenyutu
ibidda bara baraan hin dhaamne wajjin jiraachuu danda'a?" jedhu.
15 Namni qajeelummaan jiraatee dhugaa dubbatu,
kan faayidaa karaa dabaatiin argamu lagatee
harka isaa matta'aa fudhachuu irraa eeggatu,
namni marii nama ajjeesuu irraa gurra isaa cuqqaallatee
jal'ina ilaaluu irraa ija isaa dunuunfatu,
16 iddoo ol ka'aa irra jiraata;
da'annoon isaas kattaa jabaa ta'a.
Buddeenni isaaf ni kennama;
bishaanis isatti hin hir'atu.

17 Iji kee mooticha miidhagummaa isaatiin arga;
biyya fagoo jirtu illee ni ilaala.
18 Atis akkana jettee garaa keetti raafama durii sana yaadda:
"Ajajaan ol aanaan sun eessa jira?
Namichi gibira fuudhu sun eessa jira?
Ajajaan itti gaafatamaan gamoowwanii eessa jira?"
19 Ati si'achi saba hamaa,
kan haasaan isaa namaaf hin galle,
kan afaan isaa haaraa ta'ee fi hin hubatamne hin argitu.

20 Xiyoon, magaalaa ayyaana keenyaa hubadhuu ilaali;
iji kee Yerusaalemin, iddoo jireenyaa nagaa qabu,
dunkaana hin buqqifamne arga;
qofoon ishee hin buqqifamu;
yookaan funyoon ishee tokko iyyuu hin citu.
21 WAAQAYYO achitti Humna keenya ta'a.
Iddoon sunis akkuma lageen gurguddaatii fi burqaawwanii ta'a.

Dooniin waraanaa kan batoodhaan oofamu tokko iyyuu
isaan irra hin deemu;
dooniin jabaan tokko iyyuu isaan irra hin qaxxaamuru.
22 WAAQAYYO abbaa murtii keenyaatii;
WAAQAYYO seera nuuf kenna;
WAAQAYYO mootii keenya;
inni nu fayyisa.

23 Funyoon kee laafeera;
utubaan isaa jabaatee hin dhaabamne;
sharaanis hin diriirfamne.
Ergasii boojuun baay'een ni qoodama;
okkolaan iyyuu boojuu ni fudhata.
24 Namni Xiyoon keessa jiraatu kam iyyuu, "Na dhukkuba" hin jedhu;
cubbuun warra achi jiraatanis ni dhiifamaaf.

# 34

*Murtii Saboota Eeggattu*

1 Yaa saboota, isin as dhi'aadhaatii dhaggeeffadhaa;
yaa namoota, isinis qalbeeffadhaa!
Lafti haa dhageessu; kan ishee keessa jiraatu hundis,
addunyaa fi wanni ishee keessaa ba'u hundinuu haa dhaga'an!
2 WAAQAYYO saboota hundatti aareera;
dheekkamsi isaa loltoota isaanii hunda irra bu'eera.
Inni guutumaan guutuutti isaan barbadeessa;
inni akka qalamaniif dabarsee isaan kenna.
3 Isaan keessaa warri du'an alatti gad darbataman;
reeffi isaanii ni ajaa'a;
tulluuwwan dhiiga isaaniitiin tortoru.
4 Raayyaawwan samii hundinuu ni baqu;
samiinis akkuma kitaaba maramaa ni marmarama;
raayyaan urjiiwwanii hundinuu akkuma baala wayinii coollagee,
akkuma harbuu muka harbuu irraa harca'uutti harca'u.

5 Goraadeen koo samii keessatti hamma quufutti dhugeera;
kunoo inni Edoomitti muruuf,
gara saba ani guutumaan guutuutti barbadeesseetti gad bu'eera.
6 Goraadeen WAAQAYYOO dhiiga keessa cuuphameera;
inni coomaan, dhiiga xobbaallaawwan hoolaatii fi re'ootaatiin,
moora kalee korbeeyyii hoolaatiin haguugameera.
WAAQAYYO Bozraa keessatti aarsaa,
Edoom keessatti immoo qalma guddaa qopheesseeraatii.
7 Gafarsi isaan wajjin,
jiboonnis korommii gurguddaa wajjin dhumu.
Lafti isaanii dhiigaan jiiti;
biyyoon isaaniis moora quufa.

8 WAAQAYYO guyyaa itti haaloo ba'u,
waggaa itti waa'ee Xiyoon falmu qabaatii.
9 Burqaawwan Edoom leeleetti,
biyyoon ishees dinyii boba'utti geeddarama;

lafti ishee immoo leelee boba'u ta'a!
10 Inni halkan yookaan guyyaa hin dhaamu;
aarri isaas bara baraan ol ba'a.
Lafti sun dhalootaa hamma dhalootaatti ontee hafti;
namni tokko iyyuu deebi'ee ishee keessaan hin darbu.
11 Cululleen gammoojjiitii fi dhaddeen lafa sana ni fudhatu;
urunguu fi arraagessi mana isaanii achitti ijaarratu.
Waaqni Edoom irra, funyoo jeequmsaatii fi
madaalii badiisaa ni diriirsa.
12 Gurguddoonni ishee waan mootummaa jedhamee waamamu
achii hin qabaatan;
ilmaan mootota ishee hundi ni badu.
13 Masaraa ishee qoraattii,
da'annoo ishee doobbii fi sokorruutu dhaala.
Isheen boolla waangoo,
iddoo urunguun jiraattu ni taati.
14 Uumamawwan gammoojjii waraabessa wajjin wal ga'u;
hafuuronni hamoo re'ee diidaa fakkaatan wal waamu;
uumamawwan halkanii achi boqotan;
ofii isaaniitiifis iddoo aara galfannaa argatu.
15 Urunguun achitti man'ee ijaarrattee hanqaaquu hanqaaqxi;
cuucii yaaftees qoochoo jalatti kunuunfatti;
allaattiinis dhirsaa fi niitii taatee achitti walitti qabamti.
16 Kitaaba WAAQAYYOO keessaa ilaalaatii kan akkana jedhu dubbifadhaa:
Isaan kanneen keessaa tokko iyyuu hin dhabamu;
tokkittiin iyyuu dhirsa ishee hin dhabdu.
Afaan Waaqaa ajajeeraatii;
Hafuurri isaas walitti isaan qaba.
17 Isatu qooda isaanii hiraaf;
harki isaa safartuudhaan isaaniif qooda.
Isaan bara baraan qooda kana ni qabaatu;
dhalootaa hamma dhalootaattis achi jiraatu.

# 35

*Gammachuu Warra Furamanii*

1 Gammoojjii fi lafti gogaan ni gammadu;
lafti onaan ni ililcha; ni daraaras.
Akka arfaasee, 2 baay'inaan daraara;
akka malee gammadees ililcha.
Ulfinni Libaanoon, surraan Qarmeloosii fi
Shaaroon ni kennamaaf;
isaan ulfina WAAQAYYOO,
surraa Waaqa keenyaas ni argu.

3 Harka dadhabe jajjabeessaa;
jilba laafes cimsaa;
4 warra garaan isaanii sodaatuun akkana jedhaa:
"Jabaadhaa; hin sodaatinaa;
Waaqni keessan ni dhufa;
inni haaloo baasuuf dhufa;
gatii malu qabatee

isin oolchuuf ni dhufa.”

5 Ergasii iji nama jaamaa ni banama;
gurri nama duudaas ni dhaga’a.
6 Gaafas namni naafti akkuma gadamsaa utaala;
arrabni hidhamaanis gammachuudhaan faarfata.
Bishaan gammoojjii keessaa,
burqaanis gammoojjii keessaa cabsee ba’a.
7 Lafti nama gubu haroo,
lafti gogaan immoo burqaa bishaanii ta’a.
Boolla duraan waangoonni keessa ciisan irratti marga,
shambaqqoo fi dhallaadduutu biqila.

8 Karaan guddaan tokko achi ni jiraata;
innis, Karaa Qulqullinaa jedhamee waamama;
inni warra Karaa sana irra deemaniif ta’a.
“Xuraa’onni” isa irra hin deeman;
gowwoonni achiinuu hin ba’an.
9 Leenci achitti hin argamu;
yookaan bineensi hamaan achi irra hin ba’u;
isaan achitti hin argaman.
Garuu warra furaman qofatu achi irra deema;
10 warri WAAQAYYO isaan fure ni deebi’u.
Isaan faarfannaadhaan Xiyoon seenu;
gammachuun bara baraa mataa isaanii irra jiraata.
Isaan gammachuu fi ililleedhaan guutamu;
gaddii fi boo’ichi isaan irraa fagaatu.

# 36

*Senaaheriib Yerusaalemin Doorsise*
*36:1-22 kwf – 2Mt 18:13,17-37; 2Sn 32:9-19*

1 Bara mootummaa Hisqiyaas mootichaa keessa waggaa kudha afuraffaatti Senaa-
heriib mootichi Asoor magaalaawwan Yihuudaa kanneen dallaa jabaa qaban hunda
lolee ni qabate. 2 Ergasii mootichi Asoor, Raafaasqiis ajajaa waraana isaa loltoota
hedduu wajjin Laakkiishii gara Yerusaalem, Hisqiyaas mootichatti erge. Ajajaan sunis
jal’isii Haroo Ol aanu kan karra Lafa Qotiisaa Namicha Wayyaa Miicuutti geessu bira
ga’ee dhaabate; 3 Eliiyaaqiim ilmi Hilqiyaa bulchaan masaraa mootummaa, Shebnaa
barreessaanii fi Yoo’aa ilmi Asaaf galmeessaan gara isaatti gad ba’an.
4 Ajajaan waraanaa sunis akkana isaaniin jedhe; “Akkana jedhaa Hisqiyaasitti
himaa:
“ ‘Mootiin guddaan, mootichi Asoor akkana jedha: Of amanachuu kee kana maal
irratti hundeeffatte? 5 Ati, “Ani tooftaa fi jabina waraanaa qaba” jetta; garuu
dubbii faayidaa hin qabne dubbatta. Ati eenyun abdattee natti fincilta? 6 Kunoo ati
Gibxin jechuunis ulee shambaqqoo caccabaa harka nama isatti irkatu kamii iyyuu
waraanee madeessu sana abdatteerta! Fara’oon Mootichi Gibxis nama isa abdatu
hundaaf akkasuma. 7 Yoo ati, “Nu WAAQAYYO Waaqa keenya abdanna” naan jette,
inni isuma Hisqiyaas iddoowwan sagadaa isaatii fi iddoowwan aarsaa isaa diigee
Yihuudaa fi Yerusaalemiin, “Isin fuula iddoo aarsaa kanaa duratti waaqeffachuu
qabdu” jedhe sana mitii?
8 “ ‘Amma kottuutii gooftaa koo moooticha Asoor wajjin dubbadhu; anis yoo ati
namoota farda yaabbatan qopheeffachuu dandeesse fardeen kuma lama siifin

kenna! 9 Yoos ati yoo gaariiwwanii fi abbootii fardaatiif jettee Gibxin abdatte iyyuu,
akkamiin qondaaltota gooftaa kootii keessaa ajajaa gad aanaa isaa illee of irraa
deebisuu dandeessa? 10 Ati waan ani dubbii WAAQAYYOO malee biyya kana lolee
barbadeessuuf dhufe seetaa? WAAQAYYO mataan isaa akka ani biyya kanatti duulee
ishee barbadeessu natti dubbateera.' "
11 Kana irratti Eliiyaaqiim, Shebnaa fi Yoo'aa ajajaa waraanaa sanaan, "Maaloo
waan nu dhageenyuuf afaan warra Araamaayikiitiin garboota keetti dubbadhu.
Utuma namoonni dallaa irra jiran dhaga'anii afaan Ibrootaatiin nutti hin dubbatin"
jedhan.
12 Ajajaan waraanaa sun garuu akkana jedhee deebise; "Namni gooftaan koo akka
ani waan kana itti himuuf itti na erge gooftaa keessanii fi isin qofaa? Namoota dallaa
irra tataa'an warra akkuma keessan udaan ofii isaanii nyaatanii fincaan ofii isaanii
dhuguu qabaniifis mitii?"
13 Ergasii ajajaan waraanaa sun ol ka'ee afaan Ibrootaatiin akkana jedhe; "Dubbii
mooticha guddaa, dubbii mootii Asoor dhaga'aa! 14 Mootichi akkana jedha: Hisqiyaas
isin hin gowwoomsin. Inni isin baasuu hin danda'u! 15 Hisqiyaas, 'WAAQAYYO
dhugumaan nu baasa; magaalaan kunis dabarfamtee harka mooticha Asooritti hin
kennamtu' jechuudhaan akka isin WAAQAYYOON amanattaniif isin hin sossobin.
16 "Hisqiyaasin hin dhaggeeffatinaa. Mootiin Asoor akkana jedha: Ana wajjin
nagaa buusaatii gara koo kottaa. Ergasii tokkoon tokkoon keessan muka wayiniitii fi
muka harbuu keessan irraa ni nyaattu; boolla bishaan keessanii keessaas ni dhugdu;
17 kunis hamma ani dhufee gara biyya akkuma biyya keessanii jirtuu, gara biyya
midhaanii fi daadhii wayinii haaraatti, biyya buddeenaa fi iddoo dhaabaa wayiniitti
isin geessutti ta'a.
18 "Hisqiyaas, 'WAAQAYYO nu baraara' jedhee isin hin dogoggorsin; Waaqni saboota
kamii iyyuu takkumaa harka mooticha Asoor keessaa biyya ofii baafatee beekaa?
19 Waaqonni Hamaatii fi waaqonni Arfaad eessa jiru? Waaqonni Seefarwaayim
eessa jiru? Isaan harka koo keessaa Samaariyaa baasaniiruu? 20 Waaqota biyyoota
kanneenii hunda keessaa kamtu biyyoota isaanii harka koo keessaa baasuu danda'e?
Yoos WAAQAYYO akkamiin harka koo keessaa Yerusaalemin baasuu danda'a ree?"
21 Namoonni garuu sababii mootichi, "Deebii hin kenninaafii" jedhee ajajeef inuma
cal'isan malee deebii tokko iyyuu hin kennine.
22 Kana irratti Eliiyaaqiim ilmi Hilqiyaa bulchaan masaraa mootummaa, Shebnaa
barreessaanii fi Yoo'aa ilmi Asaaf galmeessaan, uffata isaanii tatarsaasanii gara
Hisqiyaas dhaqanii waan ajajaan waraanaa sun jedhe itti ni himan.

# 37

*Bilisoomuun Yerusaalem Himame*
*37:1-13 kwf – 2Mt 19:1-13*

1 Hisqiyaas mootichi yommuu waan kana dhaga'etti, uffata isaa tarsaasee wayyaa
gaddaas uffatee mana qulqullummaa WAAQAYYOO seene. 2 Innis Eliiyaaqiim bulchaa
masaraa mootummaa, Shebnaa barreessaa fi luboota dura bu'oota hundi isaanii
wayyaa gaddaa uffatan Isaayyaas raajicha ilma Amoos sanatti erge. 3 Isaanis akkana
jedhanii isatti himan; "Hisqiyaas akkana jedha: Guyyaan kun akkuma yeroo daa'imni
tokko dhalachuu ga'ee garuu dubartiin humna ittiin ciniinsifattee deessu dhabduutti
guyyaa lubbamuu, kan dheekkamsaatii fi kan salphinaa ti. 4 WAAQAYYO Waaqni
kee dubbii ajajaa waraanaa kan gooftaan isaa mootichi Asoor akka inni Waaqa
jiraataatti qoosuuf erge sanaa dhaga'ee dubbii WAAQAYYO Waaqni kee dhaga'e sanaaf
jedhee isatti dheekkama ta'a. Kanaafuu ati hambaawwan hamma ammaatti jiraniif
kadhadhu."

5 Yommuu qondaaltonni Hisqiyaas Mootichaa gara Isaayyaas dhufanitti, 6 Isaayyaas
akkana isaaniin jedhe; "Akkana jedhaa gooftaa keessanitti himaa; 'WAAQAYYO akkana
jedha: Ati waan dhageesse jechuunis dubbii garboonni mootii Asoor ittiin na
arrabsan sana hin sodaatin. 7 Dhaggeeffadhaa! Ani akka inni oduu wayii dhaga'ee
gara biyya ofii isaatti deebi'uuf hafuura tokko isa keessa nan kaa'a; achittis akka inni
goraadeedhaan ajjeefamu nan godha.' "

8 Ajajaan waraanaas yommuu akka mootiin Asoor Laakkiishii ba'ee deeme
dhaga'etti, duubatti deebi'ee utuu mootichi Libnaa lolaa jiruu argate.

9 Senaaheriibis akka Tiirhaaq mootichi Itoophiyaa sun isa loluuf dhufaa jiru
dhaga'e. Innis yommuu waan kana dhaga'etti, akkana jedhee Hisqiyaasitti ergamoota
erge: 10 "Hisqiyaas mooticha Yihuudaatiin akkana jedhaa: Waaqni ati abdattu sun,
'Yerusaalem dabarfamtee harka mootii Asooritti hin kennamtu' jedhee si hin gow-
woomsin. 11 Ati waan mootonni Asoor guutumaan guutuutti isaan balleessuudhaan
biyyoota hunda godhan dhageesseerta. Ati immoo ni haftaa ree? 12 Waaqonni
saboota abbootiin koo barbadeessan sanaa jechuunis waaqonni Goozaan, waaqonni
Kaaraan, waaqonni Rezefii fi waaqonni namoota Eden kanneen Telaasaar keessa
turan sanaa isaan oolchaniiruu? 13 Mootiin Hamaati yookaan mootiin Arfaad eessa
jira? Mootiin magaalaa Seefarwaayim, mootiin Heenaa yookaan mootiin Iwaa eessa
jira?"

### *Kadhannaa Hisqiyaas*
### *37:14-20 kwf – 2Mt 19:14-19*

14 Hisqiyaasis ergamoota sana harkaa xalayaa fuudhee dubbifate. Ergasiis gara
mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI ol ba'ee xalayaa sana fuula WAAQAYYOO duratti
diriirse. 15 Hisqiyaas akkana jedhee WAAQAYYOON kadhate: 16 "Yaa WAAQAYYO
Waan Hunda Dandeessu, Waaqa Israa'el, kan Kiirubeel gidduu teessoo irra jirtu,
si qofatu mootummoota lafaa hunda irratti Waaqa. Ati samii fi lafa uumteerta.
17 Yaa WAAQAYYO, gurra kee as qabiitii dhaga'i; yaa WAAQAYYO, ija kees banadhuu
ilaali; dubbii Senaaheriib kan inni Waaqa jiraataa arrabsuuf erge kana hunda
dhaggeeffadhu.

18 "Yaa WAAQAYYO, mootonni Asoor uummata kana hundaa fi biyyoota isaanii
balleessuun dhugaa dha. 19 Isaan waaqota jaraa ibiddatti naqanii barbadeessaniiru;
waaqonni sun mukaa fi dhagaa harka namaatiin soofaman turan malee waaqota
hin turreetii. 20 Kanaafuu yaa WAAQAYYO Waaqa keenya, akka mootummoonni lafaa
hundinuu akka ati qofti WAAQAYYO Waaqa taate beekaniif, harka isaatii nu baasi."

### *Kufaatii Senaaheriib*
### *37:21-38 kwf – 2Mt 19:20-37; 2Sn 32:20-21*

21 Sana booddee Isaayyaas ilmi Amoos akkana jedhee Hisqiyaasitti ergaa erge;
"WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha: Sababii ati waa'ee Senaaheriib mooticha
Asoor na kadhatteef, 22 dubbiin WAAQAYYO isaan mormuudhaan dubbate kunoo
kanaa dha:

"Intalli Xiyoon durbi qulqullittiin
si tuffattee sitti qoosti.
Intalli Yerusaalem
yeroo ati baqattutti mataa ishee sitti raafti.
23 Kan ati itti qoostee arrabsite sun eenyu?
Ati eenyutti sagalee kee ol fudhattee
of tuulummaadhaan ija ol qabatte?
Qulqullichuma Israa'el sanatti mitii!
24 Ati karaa ergamoota keetiitiin,

Gooftaatti qoosteerta.
Ati akkanas jetteerta;
‘Ani gaariiwwan koo hedduudhaan
fiixee tulluuwwaniitti,
fiixee Libaanoon kan akka malee ol dheeratuttis ol ba’eera.
Ani birbirsawwan isaa akka malee dhedheeroo,
gaattiraawwan isaa filatamoo sanas ciccireera.
Ani fiixeewwan isaa kanneen akka malee ol fagoo,
bosonoota akka malee mimmiidhagoo qaqqabeera.
25 Ani biyya ormaatti boolla bishaanii qotadhee
achitti bishaan dhugeera.
Ani faana miilla kootiin
lageen Gibxi hunda gogseera.’

26 “Ati waan kana hin dhageenyee?
Bara dheeraan dura anatu waan kana hojjete.
Ani bara durii keessa waan kana nan karoorfadhe;
amma immoo hojii irra oolfadheera;
kunis akka ati magaalaawwan
dallaa jabaa qaban diigdee tuullaa dhagaa gootuu dha.
27 Namoonni isaanii humna dhabanii
abdii kutataniis qaana’an.
Isaan akkuma biqiltuu diidaa,
akkuma biqiltuu kichuu tokkoo,
akkuma marga mana gubbaatti biqilu
kan utuu hin guddatin gubatee ti.

28 “Ani garuu lafa ati jirtu,
yoom akka dhuftuu fi yoom akka deemtu,
akka ati akka malee natti aartu illee nan beeka.
29 Sababii ati akka malee natti aartee
of tuulummaan kees gurra koo seeneef,
ani funyaan keetti hokkoo koo,
afaan keetti immoo luugama koo kaa’ee
akka ati karuma dhufte sanaan deebitu sin godha.
30 “Yaa Hisqiyaas kun mallattoo siif ta’a:
“Isin waggaa kana waan ofumaan biqilu,
waggaa lammaffaatti immoo waanuma isa irraa latu nyaattu.
Waggaa sadaffaatti garuu facaafadhaa galfadhaa;
muka wayiniis dhaabbadhaatii ija isaa nyaadhaa.
31 Ammas hambaan mootummaa Yihuudaa tokko,
jalaan hidda baafatee gubbaan immoo ija naqata.
32 Yerusaalem keessaa hambaan tokko,
Tulluu Xiyooniitii immoo
gareen warra badiisa jalaa ba’e tokkoo ni dhufa.
Hinaaffaan Waaqayyoo Waan Hunda Danda’uu
waan kana ni raawwata.
33 “Kanaafuu Waaqayyo waa’ee mooticha Asoor akkana jedha:
“Inni magaalaa kana hin seenu,
yookaan xiyya tokko illee asitti hin darbatu.
Inni gaachana qabatee fuula isaa duratti hin dhi’aatu
yookaan tuullaa biyyoo itti hin marsu.

34 Inni karuma dhufe sanaan ni deebi'a;
magaalaa kanas hin seenu"
jedha WAAQAYYO.
35 "Anis sababii ofii kootii fi sababii garbicha koo Daawitiif jedhee
magaalaa kana nan eega; nan oolchas!"
36 Ergasii ergamaan WAAQAYYOO gad ba'ee qubata warra Asoor keessatti nama
kuma dhibba tokkoo fi saddeettamii shan fixe. Yommuu namoonni guyyaa itti aanu
ganama bariin ka'anitti kunoo reeffi namaa lafa guutee ture. 37 Kanaafuu Senaaheriib
mootichi Asoor qubata sana keessaa ba'ee baqate; Nanawweetti deebi'ees achi jiraate.
38 Gaaf tokko utuu inni mana sagadaa Waaqa isaa Nisrook jedhamuu keessatti
waaqeffachaa jiruu ilmaan isaa Adramelekii fi Sharezer goraadeedhaan isa ajjeesanii
gara biyya Araaraatitti baqatan. Ilmi isaa Eesarhadoonis iddoo isaa bu'ee mootii ta'e.

# 38

### *Hisqiyaas Dhukkubsachuu Isaa*
*38:1-8 kwf – 2Mt 20:1-11; 2Sn 32:24-26*

1 Bara sana keessa Hisqiyaas dhukkubsatee du'uu ga'ee ture. Isaayyaas ilmi Amoos
raajichi gara isaa dhaqee, "WAAQAYYO akkana jedha: Mana kee tottolfadhu; ati ni
duuta malee hin fayyituutii" jedheen.
2 Hisqiyaasis fuula isaa gara keenyan manaatti garagalfatee akkana jedhee
WAAQAYYOON kadhate; 3 "Yaa WAAQAYYO, akka ani amanamummaa fi garaa tokkoon
fuula kee dura jiraadhee waan fuula kee duratti gaarii ta'es hojjedhe yaadadhu."
Hisqiyaasis hiqqifatee ni boo'e.
4 Ergasiis dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Isaayyaas dhufe: 5 "Dhaqiitii
akkana jedhii Hisqiyaasitti himi; 'WAAQAYYO Waaqni abbaa kee Daawit akkana jedha:
Ani kadhannaa kee dhaga'eera; imimmaan kees argeera; ani umurii kee irratti
waggaa kudha shan siifan dabala. 6 Ani si'ii fi magaalaa kana harka mooticha
Asooriitii nan baasa. Ani magaalaa kana nan eega.
7 " 'Kun mallattoo WAAQAYYOO kan akka inni waan waadaa gale sana guutu
mirkaneessuuf WAAQAYYO biraa siif kennamee dha: 8 Ani akka gaaddidduun aduu
tarkaanfii kurnan gulantaa Aahaaz irraan gad bu'e sana dugda duubatti deebi'u
nan godha.' " Kanaafuu gaaddidduun tarkaanfii kurnan gad bu'ee ture sun dugda
duubatti deebi'e.
9 Barreeffama Hisqiyaas mootichi Yihuudaa erga dhukkubsatee fayyee booddee
barreesse:
10 Anis, "Walakkaa umurii kootiitti,
ani sii'ool seenuun qabaa?
Bara jireenya koo kan hafes dhabuun qabaa?" nan jedhe.
11 Ani akkanan jedhe; "Ani biyya jiraattotaa keessatti,
lammata WAAQAYYOON hin argu;
ani si'achi sanyii namaa hin ilaalu,
yookaan warra addunyaa kana irra jiraatan wajjin hin jiraadhu.
12 Manni koo akkuma dunkaana tiksootaa
buqqifamee narraa fudhatameera.
Ani akkuma wayyaa dhooftuu jireenya koo marmareera;
inni mi'a wayyaa dhooftuu irraa na kuteera;
ati halkanii guyyaa na balleessita.
13 Ani hamma bariitti obsaan nan eeggadhe;
inni garuu akka leencaa lafee koo hunda caccabse;
ati halkanii guyyaas na balleessita.

14 Ani akka simbirroo yookaan akkuma daalotee nan wace;
akka gugee boossuus nan aade;
iji koo gara samii ilaaluudhaan dadhabe;
yaa Gooftaa ani rakkadheeraa kottuu na gargaari!”

15 Ani garuu maal jechuun danda’a?
Inni natti dubbate; inni mataan isaas waan kana godhe.
Ani waa’ee dhiphinaa lubbuu kootiif
umurii koo guutuu gad of qabee nan jiraadha.
16 Yaa Gooftaa, namoonni
waanuma akkasiitiin jiraatu;
hafuurri koos isaanumaan jireenya argata.
Ati na fayyiftee lubbuudhaanis na jiraachifte.
17 Dhugumaan akkas dhiphachuun koo faayidaa kootiif.
Ati jaalala keetiin boolla badiisaa irraa na eegde;
cubbuu koo hundas, dugda kee duubatti gatte.
18 Sii’ool si galateeffachuu hin danda’utii;
duutis si jajachuu hin danda’u.
Warri qileetti gad bu’an,
amanamummaa kee abdachuu hin danda’an.
19 Isaan akkuma ani har’a gochaa jiru kana yaa jiraataa,
yaa jiraataa jedhanii si jajatu;
abbootiin waa’ee amanamummaa keetii
ijoollee isaaniitti ni odeessu.

20 Waaqayyo na baraara;
nus bara jireenya keenyaa guutuu,
mana qulqullummaa Waaqayyoo keessatti
mi’a ribuu irraa hojjetameen faarfanna.
21 Isaayyaas, “Maxinoo harbuu tolchaatii dhullaa isaa irra kaa’aa; innis ni fayyaa” jedhee ture.
22 Hisqiyaasis, “Akka ani gara mana qulqullummaa Waaqayyootti ol ba’uuf maaltu mallattoo ta’a?” jedhee gaafate.

# 39

*Ergamoota Baabilonii Dhufan*
*39:1-8 kwf – 2Mt 20:12-19*

1 Yeroo sanatti Meroodak Baladaan ilmi Baladaan mootiin Baabilon sababii akka
Hisqiyaas dhukkubsatee fayye dhaga’eef xalayootaa fi kennaa ergeef. 2 Hisqiyaasis
ergamoota sana gammachuudhaan simatee waan mankuusa isaa keessa ture meetii,
warqee, urgooftuu, zayitii qulqulluu akkasumas kuusaa mi’a lolaa isaa guutuu fi
waan mankuusa isaa keessatti argamu hunda isaanitti argisiise. Wanni Hisqiyaas
masaraa mootummaa isaa keessaa yookaan mootummaa isaa hunda keessaa isaanitti
hin argisiisin tokko iyyuu hin turre.
3 Kana irratti Isaayyaas raajichi gara Hisqiyaas mootichaa dhaqee, “Namoonni sun
maal jedhan? Isaan eessaa dhufan?” jedhee gaafate.
Hisqiyaasis, “Isaan Baabilonii biyya fagoodhaa na bira dhufan” jedhee deebise.
4 Raajichi, “Jarri masaraa mootummaa keetii keessatti maal argan?” jedhee gaafate.
Hisqiyaas immoo, “Isaan waan masaraa mootummaa koo keessa jiru hunda argan; wanni ani mankuusa koo keessaa isaanitti hin argisiisin tokko iyyuu hin jiru” jedheen.

5 Isaayyaasis kana irratti Hisqiyaasiin akkana jedhe; “Dubbii Waaqayyoo Waan
Hunda Danda’uu dhaga’i: 6 Yeroon itti wanni masaraa mootummaa keetii keessa
jiru hundii fi wanni abbootiin kee hamma har’aatti kuusan hundinuu saamamee
gara Baabilonitti geeffamu tokko dhugumaan ni dhufa. Wanni tokko iyyuu hin hafu,
jedha Waaqayyo. 7 Sanyii kee keessaa namoonni tokko tokko, foonii fi dhiigni kee
kanneen siif dhalatan booji’amanii masaraa mootummaa mooticha Baabilon keessatti
xu’aashiiwwan ta’u.”
8 Hisqiyaasis, “Dubbiin Waaqayyoo kan ati dubbatte kun gaarii dha” jedhee
deebise. Inni, “Bara jireenya koo keessa nagaa fi tasgabbiin ni jiraata” jedhee yaadee
tureetii.

# 40

*Sabni Waaqaa Jajjabeeffame*

1 Jajjabeessaa; saba koo jajjabeessaa;
jedha Waaqni keessan.
2 Garaa Yerusaalemitti dubbadhaa;
hojiin garbummaa ishee akka dhume,
gatiin cubbuu ishee akka baafameef,
isheen cubbuu ishee hundaaf
harka Waaqayyootii adabbii dachaa
akka fudhatte isheetti labsaa.

3 Sagalee akkana jedhee iyyu tokko:
“Gammoojjii keessatti
Waaqayyoof karaa qopheessaa;
gammoojjii keessatti Waaqa keenyaaf
karaa guddicha qajeelchaa.
4 Sululli hundi ni guutama;
tulluu fi gaarri hundinuus gad deebifama;
lafti wal caalu, wal qixxeeffama;
lafti bu’aa ba’iinis dirree ta’a.
5 Ulfinni Waaqayyoo ni mul’ata;
sanyiin namaa hundinuus tokkummaadhaan ni arga.
Afaan Waaqayyoo dubbateeraatii.”

6 Sagaleen tokko “Iyyi” jedha.
Anis, “Maal jedheen iyya?” nan jedhe.

“Namni hundi akkuma margaa ti;
ulfinni isaa hundis akkuma daraaraa dirree ti.
7 Sababii hafuurri Waaqayyo baafatu isaanitti bubbisuuf margi
ni coollaga; daraaraanis ni harca’a.
Dhugumaan namni marguma.
8 Margi ni coollaga; daraaraanis ni harca’a;
dubbiin Waaqa keenyaa garuu bara baraan ni jiraata.”

9 Ati kan Xiyooniif oduu gaarii fiddu,
tulluu dheeraatti ol ba’i.
Ati kan Yerusaalemiif oduu gaarii fiddu,
sagalee kee ol fudhuutii iyyi;
ol fudhadhuu iyyi; hin sodaatin;

magaalaawwan Yihuudaatiinis,
"Waaqni keessan kunoo ti!" jedhi.
10 Kunoo, WAAQAYYO Gooftaan humnaan ni dhufa;
irreen isaa jabaadhaanis ni bulcha.
Kunoo, gatiin isaa isa wajjin jira;
gatiin inni namaaf kennu isuma harka jira.
11 Inni akkuma tiksee tokkootti bushaayee isaa tikfata;
xobbaallaawwan hoolaas irree isaatiin walitti qaba;
ofitti qabees qoma isaatti hammata;
haadhota hoolotaa warra hoosisanis suutuma oofa.

12 Bishaanota konyee isaatiin kan safare
yookaan samiiwwan taakkuu isaatiin kan safare eenyu?
Biyyoo lafaa safartuudhaan walitti kan qabe
yookaan tulluuwwan madaaliidhaan
gaarran immoo madaaliidhaan kan madaale eenyu?
13 Eenyutu Hafuura WAAQAYYOO qajeelchuu danda'e?
Yookaan namni gorsaa isaa ta'ee isa barsiise eenyu?
14 WAAQAYYO hubannaa argachuuf eenyun gorsa gaafate?
Daandii qajeelaas eenyutu isa barsiise?
Eenyutu beekumsa isaaf kennee
yookaan daandii hubannaa isa argisiise?

15 Dhugumaan saboonni akkuma copha baaldii keessaa ti;
isaan akkuma awwaara madaalii irra jiruutti ilaalamu;
inni biyyoota bishaan gidduu illee akkuma biyyoo bullaa'aatti madaala.
16 Libaanoon qoraan iddoo aarsaatiif ga'u hin qabdu,
yookaan horiin ishee aarsaa gubamuuf hin ga'an.
17 Fuula isaa duratti saboonni hundinuu wayittuu hin lakkaa'aman;
isaan akka ilaalcha isaatti homaattuu hin hedaman;
gatiis hin qaban.

18 Yoos Waaqa eenyutti fakkeessitu?
Fakkii kam wajjin isa wal bira qabdu?
19 Waaqa tolfamaa tumtuu sibiilaatu baqsee tolcha;
tumtuun warqees warqee itti uffisa;
foncaa meetiitiinis ni miidhagsa.
20 Hiyyeessi aarsaa akkasii dhi'eessuu
hin dandeenye tokko muka hin tortorre filata.
Waaqa tolfamaa hin jigne dhaabuufis
nama ogummaa hojii harkaa qabu barbaaddata.

21 Isin hin beektanii?
Isin hin dhageenyee?
Wanni kun jalqabumaa kaasee isinitti hin himamnee?
Isin erga lafti hundeeffamtee jalqabee hin hubannee?
22 Inni geengoo lafaatii ol taa'a;
uummanni lafaas akkuma korophisaa ti.
Inni samiiwwan akkuma golgaatti diriirsa;
akka dunkaana keessa jiraataniittis isaan diriirsa.
23 Inni ilmaan moototaa faayidaa dhabsiisa;

bulchitoota addunyaas harka duwwaa hambisa.
24 Akkuma isaan dhaabamaniin,
akkuma isaan facaafamaniin,
akkuma isaan lafa keessatti hidda yaafataniin,
inni isaanitti bubbise;
isaanis ni coollagan;
obombolettiinis akkuma habaqiitti isaan haxaa'e.

25 "Isin eenyutti na fakkeessitu?
Yookaan eenyutu anaan qixxaata?" jedha Qulqullichi.
26 Ija keessan ol fudhadhaatii samiiwwan ilaalaa:
Eenyutu kanneen hunda uume?
Isa tuuta urjiiwwanii tokko tokkoon fidee
tokkoo tokkoo isaanii maqaa maqaadhaan waamu sanaa dha.
Sababii humna isaa cimaa sanaatii fi jabina isaa guddaa sanaatiif
isaan keessaa tokko iyyuu hin dhabamu.

27 Yaa Yaaqoob, yaa Israa'el, ati maaliif,
"Karaan koo WAAQAYYO duraa dhokateera;
haajaan koos fuula Waaqa koo duratti
tuffatameera" jettee guungumta?
28 Ati hin beektuu?
Ati hin dhageenyee?
WAAQAYYO Waaqa bara baraa ti;
inni Uumaa handaara lafaa ti.
Inni hin dadhabu yookaan haara hin galfatu;
hubannaa isaas kan qoree bira ga'u hin jiru.
29 Inni dadhabdootaaf jabina kenna;
nama laafaaf immoo humna dabala.
30 Ijoolleen iyyuu ni dadhabu; ni bututus;
dargaggoonnis gufatanii kufu;
31 Warri WAAQAYYOON abdatan garuu
humna isaanii ni haaromfatu.
Isaan akkuma risaa qoochoodhaan barrisu;
ni fiigu; hin dadhaban;
ni deemu; hin bututan.

# 41

### *Gargaaraa Israa'el*

1 Waaqayyo akkana jedha;
"Yaa biyyoota bishaan gidduu, fuula koo duratti cal'isaa!
Saboonni jabina isaanii haa haaromfatan!
Isaan fuula duratti ba'anii haa dubbatan;
walii wajjin murtiidhaaf haa dhi'aannu.

2 "Kan ba'a biiftuutii nama tokko kakaasee
qajeelummaadhaan tajaajila isaatiif isa waame eenyu?
Inni saboota dabarsee harka isaatti kenna;
moototas isa jalatti bulcha.
Inni goraadee isaatiin daaraa,

xiyya isaatiinis habaqii bubbeedhaan
bittinnaa'u isaan godha.
3 Inni isaan ari'ee,
daandii miilli isaa irra deemee hin beekne irra nagaan darba.
4 Jalqabaa kaasee dhaloota waamee
waan kana kan tolchee fi hojjete eenyu?
Ani WAAQAYYO isa duraa ti;
isa dhumaatiifis ani isuma."

5 Biyyoonni bishaan gidduu arganii sodaatu;
daariiwwan lafaa ni hollatu.
Isaanis ni dhi'aatu; gara fuula duraattis dhufu;
6 tokkoon tokkoon namaa wal gargaara;
obboleessa isaatiinis, "Jabaadhu!" jedha.
7 Tumtuun sibiilaa tumtuu warqee ni jajjabeessa;
inni burruusaan wal qixxeessus,
isa gemmoo irratti sibiila tumu jajjabeessa.
Waa'ee sibiila walitti baqsuu, "Wanni kun gaarii dha" jedha.
Akka inni hin sochooneefis Waaqa tolfamaa sana
mismaaraan walitti qabsiisa.

8 "Ati garuu, yaa garbicha koo Israa'el,
yaa Yaaqoob kan ani filadhe,
sanyii Abrahaam michuu kootii,
9 ani handaara lafaatii si fudhadhe;
golee fagoodhaan si waammadhe.
Ani, 'Ati garbicha koo ti' siin jedhe;
ani si filadheera; si hin gannes,
10 Kanaafuu ati hin sodaatin; ani si wajjin jiraatii;
hin raafamin; ani Waaqa keetii.
Ani sin jabeessa; sin gargaaras;
ani harka koo mirgaa qajeelaa sanaan hirkisee ol sin qaba.

11 "Kunoo, warri sitti aaran hundi,
ni qaana'u; ni salphatus;
warri siin morman akka waan hin jirree ta'u; ni badus.
12 Ati diinota kee barbaadduu iyyuu, isaan hin argattu.
Warri waraana sitti banan,
guutumaan guutuutti akka waan hin jirree ta'an.
13 Ani WAAQAYYO Waaqni kee
harka kee mirgaa nan qabaatii;
inni, 'Hin sodaatin;
ani sin gargaaraa' siin jedhus anuma.
14 Yaa Yaaqoob raammoo nana,
Yaa Israa'el xinnoo nana hin sodaatin;
ani mataan koo sin gargaaraatii" jedha WAAQAYYO,
Furaan kee, Qulqullichi Israa'el sun.
15 "Ani kunoo, meeshaa ittiin midhaan dha'an,
meeshaa haaraa fi qaramaa kan ilkaan baay'ee qabu sin taasisa.
Ati tulluuwwan dhooftee caccabsita;
gaarran immoo akka habaqii goota.

16 Ati jara ni afarsita; qilleensis ol isaan fudhata;
bubbeen jabaan isaan bittinneessa.
Ati garuu WAAQAYYOTTI ni gammadda;
Qulqullicha Israa'elinis ulfina argatta.

17 "Hiyyeeyyii fi rakkattoonni bishaan barbaadu;
garuu homaa hin argatan;
arrabni isaanii dheebuudhaan goggogeera.
Ani WAAQAYYO garuu deebii nan kennaaf;
ani Waaqni Israa'el jara hin gatu.
18 Lafa ol ka'aa qullaa irra lageen nan yaasa;
sululoota keessa immoo burqaa nan burqisiisa.
Gammoojjii haroo bishaaniitti,
lafa goges burqaa bishaaniitti nan geeddara.
19 Gammoojjii keessatti
gaattiraa, laaftoo, kusaayee fi ejersa nan biqilcha.
Lafa onaa keessatti immoo,
Birbirsa, qararoo fi hadheessa wal faana nan dhaaba.
20 Kunis akka namoonni
akka harki WAAQAYYOO waan kana hojjete,
akka Qulqullichi Israa'el waan kana uume arganii beekaniif,
akkasumas akka hundi isaanii waan kana qalbeeffatanii hubataniif.

21 "Dhimma keessan dhi'eeffadhaa" jedha WAAQAYYO;
"Ragaa keessan fidadhaa" jedha mootiin Yaaqoob.
22 "Akka isaan waan ta'uuf jiru nutti himaniif,
waaqota keessan tolfamoo fidadhaa.
Akka nu isaan hubannee
waan isaan dhuma irratti ta'an beeknuuf,
wantoonni bara dur maal akka turan nutti himaa.
Yookaan wantoota dhufuuf jiran nutti odeessaa;
23 akka nu akka isin waaqota taatan beeknuuf,
waan fuul duratti ta'uuf jiru nutti himaa.
Akka nu rifannee sodaan guutamnuuf,
waan gaarii yookaan waan hamaa hojjedhaa.
24 Kunoo isin wayittuu hin hedamtan;
hojiin keessanis gonkumaa gatii hin qabu;
kan isin filatu kam iyyuu jibbisiisaa dha.

25 "Ani nama tokko kaabaa nan kaase; innis dhufa;
inni ba'a biiftuutii dhufus maqaa koo ni waammata.
Inni akkuma suphee dhooftuun suphee dhidhiitu sana,
bulchitoota akka dhoqqeetti dhidhiita.
26 Akka nu beekuu dandeenyuuf
eenyutu jalqabumaa kaasee waan kana dubbate?
Yookaan akka nu, 'Inni sirrii dha' jechuu dandeenyuuf
eenyutu duraan dursee waan kana dubbate?
Eenyu iyyuu waan kana hin himne;
namni tokko iyyuu duraan dursee hin himne;
namni tokko iyyuu dubbii keessan hin dhageenye.
27 Namni jalqabatti, 'Kunoo isaan as jiru!'

jedhee Xiyoonitti hime ana ture.
Ani nama oduu gaarii himu tokko Yerusaalemiif kenneera.
28 Ani nan ilaale; garuu homtuu hin turre;
isaan keessaa namni gorsa kennu tokko iyyuu hin jiru;
yommuu ani isaan gaafadhus namni deebii kennu tokko iyyuu hin jiru.
29 Kunoo, hundi isaanii faayidaa hin qaban!
Hojiin isaaniis gatii hin qabu;
fakkiiwwan isaaniis qilleensuma duwwaa dha.

# 42

*Garbicha Waaqayyoo*

1 "Tajaajilaan koo inni ani utubee dhaabu,
filatamaan koo kan ani itti gammadu isa kana;
ani Hafuura koo isa irra nan kaa'a;
inni sabootaaf murtii qajeelaa ni kenna.
2 Inni hin wacu yookaan hin iyyu;
yookaan daandii irratti sagalee isaa hin dhageessisu.
3 Shambaqqoo buruqe hin cabsu;
fo'aa ibsaa kan seequs hin dhaamsu.
Inni amanamummaadhaan murtii qajeelaa ni fida;
4 hamma murtii qajeelaa lafa irratti fidutti,
inni hin dadhabu; abdiis hin kutatu.
Biyyoonni bishaan gidduu seera isaa ni abdatu."

5 Waaqayyo Waaqni samiiwwan uumee diriirse,
inni lafaa fi wantoota ishee keessa jiran hunda hojjete,
inni saba isheetiif hafuura baafatan kennee
warra ishee irra jiraataniifis
jireenya kenne sun akkana jedha:
6 "Ani Waaqayyo qajeelummaadhaan si waameera;
harka kees nan qaba.
Ani si eegee sabootaaf kakuu,
Namoota Ormaatiif immoo ifa sin taasisa;
7 atis ija jaamotaa ni banta;
mana hidhaatii booji'amtoota ni hiikta;
warra dukkana keessa jiraatanis hidhaadhaa ni baafta.

8 "Ani Waaqayyo; maqaan koos kanaa dha!
Ani ulfina koo kan biraatiif,
galata koos waaqota tolfamoof dabarsee hin kennu.
9 Kunoo wanni duraanii raawwatameera;
anis waan haaraa nan dubbadha;
utuu isaan hin biqilin,
ani waa'ee isaanii sitti nan odeessa."

*Faarfannaa Galataa*

10 Isin warri galaana buutanii fi wantoonni achi keessa jiraattan hundi,
biyyoonni bishaan gidduu fi warri achi keessa jiraattan hundi,
faarfannaa haaraa Waaqayyoof faarfadhaa;
handaara lafaatiis galata isaa faarfadhaa.
11 Gammoojjii fi magaalaawwan ishee sagalee isaanii ol haa fudhatan;

gandoonni Qeedaar keessa jiraatan haa gammadan.
Namoonni Seelaa gammachuudhaan haa faarfatan;
fiixee tulluuwwanii irraa haa iyyan.
12 Isaan WAAQAYYOOF ulfina haa kennan;
biyyoota bishaan gidduu keessattis galata isaa haa labsan.
13 WAAQAYYO akka nama jabaa tokkootti ni duula;
akka goota tokkoottis onnee isaa kakaasa;
sagalee ol fudhatees ni dhaadata;
diinota isaa irrattis ol aantummaa argata.

14 “Ani yeroo dheeraaf cal’iseera;
ani afaan qabadhee of dhowweera.
Amma garuu akka dubartii ciniinsuun qabeetti nan iyya;
nan argana; hafuurris na cita.
15 Ani tulluuwwanii fi gaarran nan onsa;
biqiltuuwwan isaanii hundas nan gogsa;
ani lageen biyyoota bishaan gidduutti nan geeddara;
haroowwanis nan gogsa.
16 Ani jaamota karaa isaan hin beekne irra nan qajeelcha;
daandii duraan hin beekamin irra nan deemsisa;
ani dukkana fuula isaanii dura jiru ifatti nan geeddara;
lafa bu’aa bayiis wal nan qixxeessa.
Wanni ani hojjedhu kanneenii dha;
ani isaan hin dhiisu.
17 Warri waaqota tolfamoo amanatan,
kanneen fakkiiwwaniin, ‘Isin waaqota keenya’ jedhan garuu
duubatti deebi’u; ni salphatus.

### *Israa’el Jaamaa fi Duudaa dha*

18 “Isin duudota nana, dhaga’aa;
jaamota nana, ilaalaa; argaas!
19 Tajaajilaa koo malee jaamaan eenyu?
Duudaan akka ergamaa ani ergu sanaas eenyu?
Jaamaan akka nama anaaf of kennee,
jaamaan akka Garbicha WAAQAYYOO eenyu?
20 Ati waan baay’ee argite; garuu hin qalbeeffanne;
gurri kee banaa dha; garuu ati waan tokko iyyuu hin dhageessu.”
21 Waa’ee qajeelummaa isaatiif jedhee
seera isaa guddisuu fi ulfina qabeessa gochuun
WAAQAYYOON gammachiiseera.
22 Sabni kun garuu saba saamamee booji’amee dha;
hundii isaanii boolla keessatti kiyyoodhaan qabamaniiru;
mana hidhaa keessas dhokfamaniiru.
Isaan fudhatamaniiru;
kan isaan baraarus hin jiru;
isaan booji’amaniiru;
namni, “Isaan deebisaa” jedhus hin jiru.

23 Isin keessaa eenyutu waan kana dhaggeeffata?
Bara dhufuuf jiru keessas eenyutu qalbeeffatee dhaga’a?
24 Eenyutu Yaaqoobin boojuuf,

Israa’elinis saamtotatti dabarsee kenne?
Kan nu cubbuu itti hojjenne, WAAQAYYO mitii?
Isaan sababii karaa isaa duukaa hin buuneef,
seera isaatiif hin ajajamne.
25 Kanaafuu inni dheekkamsa isaa boba’aa sana,
waraana hamaas isaanitti erge.
Arraba ibiddaatiin isaan marse; isaan garuu hin hubanne;
ibiddi sunis isaan gube; isaan garuu hin qalbeeffanne.

# 43

*Fayyisaa Israa’el Tokkicha*

1 Amma garuu yaa Yaaqoob, WAAQAYYO inni si uume,
yaa Israa’el, inni si tolche akkana jedha:
“Ani si fureeraatii hin sodaatin;
ani maqaa keetiin si waameera; ati kan koo ti.
2 Yommuu ati bishaan keessa dabartu,
ani si wajjinan jira;
yommuu ati lageen ceetus, isaan si hin liqimsan.
Yommuu ibidda keessa deemtu,
ati hin gubattu;
arrabni ibiddaas si hin gubu.
3 Ani WAAQAYYO Waaqni kee,
Qulqullichi Israa’el Fayyisaa keeti;
ani biyya Gibxi furii keetiif,
qooda kee immoo Kuushii fi Saabaa nan kenna.
4 Waan ati ija koo duratti jaallatamaa fi kabajamaa taateef,
anis waanan si jaalladhuuf,
qooda kee namoota
qooda lubbuu keetii immoo saboota nan kenna.
5 Ani si wajjinan jiraatii hin sodaatin;
ani ijoollee kee ba’a biiftuutii nan fida;
lixa biiftuutiis walitti sin qaba.
6 Ani Kaabaan, ‘Isaan gad dhiisi!’
Kibbaan immoo ‘Isaan hin dhowwin’ nan jedha.
Ilmaan koo fagoodhaa,
intallan koo immoo handaara lafaatii fidi;
7 kan maqaa kootiin waamame hunda,
kanneen ani ulfina kootiif uume,
warra ani tolchee fi hojjedhe sana fidaa.”

8 Warra utuu ija qabanuu jaamanii
utuu gurra qabanuu duudan gad baasi.
9 Sabni hundi tokkummaadhaan walitti haa qabamu;
namoonnis wal haa ga’an.
Isaan keessaa namni duraan dursee waan kana nutti himee
wantoota duraas nuuf labse eenyu?
Akka warri kaan dhaga’anii, “Kun dhugaa dha” jedhaniif,
akka dhugaa qabeeyyii ta’uun isaanii mirkaneeffamuuf
isaan dhuga baatota isaanii haa dhi’eeffatan.
10 WAAQAYYO akkana jedha;
“Akka isin beektanii na amantaniif

akka ani isa ta'es akka hubattaniif
isin dhuga baatota koo, garbicha koo kan ani filadhee dha.
Anaan dura waaqni hin hojjetamne;
anaan booddees hin jiraatu.
11 Ana, anuma qofatu WAAQAYYO;
ana malees fayyisaan biraa hin jiru.
12 Ani mul'iseera; fayyiseera; labseeras;
ana malee waaqni ormaa gidduu keessan hin turre.
Akka ani Waaqa ta'e, isin dhuga baatota koo ti"
jedha WAAQAYYO.
13 "Bara duriitii jalqabee ani isuma.
Namni tokko iyyuu harka kootii waa baasuu hin danda'u.
Ani nan hojjedha; eenyutu dhowwuu danda'a?"

### *Araara Waaqaatii fi Amanamummaa Dhabuu Israa'el*

14 WAAQAYYO Furiin kee,
Qulqullichi Israa'el akkana jedha:
"Ani isiniif jedhee Baabilonitti loltoota ergee
dooniiwwan isaan ittiin boonaniin
namoota Baabilon hunda booji'ee nan fida.
15 Ani WAAQAYYO, Qulqullicha keessan,
Uumaa Israa'el, Mootii keessanii dha."

16 WAAQAYYO inni, galaana keessaan karaa,
bishaanota jajjaboo keessaan immoo daandii tolche akkana jedha;
17 inni gaariiwwanii fi fardeen, loltootaa fi gargaartota isaanii
tokkummaadhaan ari'ee baase akkana jedha;
isaan achuma ciciisu; lammatas hin ka'an;
akkuma fo'aa ibsaattis dhaamanii badu;
18 "Wantoota durii irraanfadhaa;
waan darbettis hin cichinaa.
19 Kunoo, ani waan haaraa tokko nan hojjedhaa!
Innis amma ni biqila; isin hin hubattanii?
Ani gammoojjii keessatti karaa nan qopheessa;
lafa onaa keessattis burqaa nan burqisiisa.
20 Bineensonni bosonaa,
waangoowwanii fi guchiiwwan ulfina naaf kennu;
akka sabni koo kan ani filadhe dhuguuf,
ani gammoojjii keessatti bishaan,
lafa onaa keessattis burqaa nan kennaatii;
21 sabni ani ofii kootiif filadhe
akka na galateeffatuuf ture.

22 "Yaa Yaaqoob, ati garuu na hin waammanne;
yaa Israa'el, ati fuula koo duratti dadhabdeerta.
23 Ati aarsaa gubamuu fi hoolota naaf hin fidne;
yookaan aarsaa keetiin ulfina naaf hin kennine.
Ani aarsaa midhaaniitiin si hin rakkifne;
yookaan aarsaa ixaanaa gaafachuudhaan si hin dadhabsiifne.
24 Ati qundhii urgaa gaarii qabu naa hin binne;
yookaan cooma qalma keetiitiin na hin quubsine.
Garuu ba'aa cubbuu keetii natti feete;

yakka keetiinis na dadhabsiifte.

25 “Kan ofii kootiif jedhee yakka kee sirraa haqee
cubbuu kees deebi’ee hin yaadanne, ani anuma.
26 Mee waan darbe irra naa deebi’i;
walitti dhufnee dubbii kana irratti haa falminu;
dubbii kee dhi’eeffadhuutii qajeelaa ta’uu kee mirkaneeffadhu.
27 Abbaan kee kan jalqabaa cubbuu hojjete;
barsiistonni kee natti fincilan.
28 Kanaafuu ani itti gaafatamtoota
mana qulqullummaa keetii nan salphisa;
Yaaqoobin badiisaaf,
Israa’elin immoo tuffiif dabarsee nan kenna.

# 44

*Israa’el Saba Filatamaa*

1 “Amma garuu yaa Yaaqoob garbicha ko,
yaa Israa’el kan ani si filadhe, dhaggeeffadhu.
2 Waaqayyo inni si uume,
kan gadameessa keessatti si tolche,
inni si gargaaru sun akkana jedha:
Yaa garbicha koo Yaaqoob,
yaa Yishuruun kan ani si filadhe hin sodaatin.
3 Ani lafa dheebote irratti bishaan,
lafa gogaa irratti burqaa nan dhangalaasaatii;
ani ijoollee kee irratti Hafuura koo,
sanyii kee irratti immoo eebba koo nan dhangalaasa.
4 Isaan akkuma marga bishaan gidduutii fi
akka muka alaltuu kan qarqara lagaa jiruutti ni lalisu.
5 Namni tokko, ‘Ani kan Waaqayyoo ti’ ofiin jedha;
kan biraa maqaa Yaaqoobiin of waama;
kaan immoo harka isaa irratti, ‘Ani kan Waaqayyoo ti’
jedhee barreeffata;
maqaa Israa’eliinis of waama.

*Waaqayyo Tokkichuma*

6 “Waaqayyo Mootii fi Furiin Israa’el
Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
Ani kan jalqabaa ti; ani kan dhumaatis;
ana malee Waaqni biraa hin jiru.
7 Yoos kan akka koo eenyu? Mee inni hafuura haa baafatu.
Inni waan erga ani saba koo kan durii hundeessee as ta’e,
waan hamma ammaatti hin ta’in haa dubbatu;
fuula koo durattis haa ibsu;
waan gara fuulduraatti ta’u illee duraan dursee haa himu.
8 Hin rifatinaa; hin sodaatinaa.
Ani waan kana labsee bara dheeraan dura sitti hin himnee?
Isin dhuga baatota koo ti. Ana malee Waaqni biraa jiraa?
Lakkii, Kattaan biraa hin jiru; ani tokko iyyuu hin beeku.”

9 Warri waaqota tolfamoo tolchan hundi gatii hin qaban;
wanni isaan hawwan faayidaa hin qabu.

Warri isaaniif falmanis jaamota;
isaan beekumsa hin qaban; kanaafuu ni qaaneffamu.
10 Eenyutu waaqa tolfamaa fi
fakkii homaa isa hin fayyadne tolcha?
11 Isaa fi namni akka isaa ni qaaneffama;
ogeeyyiin hojii harkaas namootuma malee homaa miti.
Isaan hundi walitti qabamanii iddoo tokko haa dhaabatan;
isaan ni na'u; ni salphatus.

12 Tumtuun meeshaa ittiin waa tumu harkatti qabatee
cilee boba'u irratti ittiin hojjeta;
inni burruusaan waaqa tolfamaa tolcha;
irree isaa jabaadhaanis ni miidhagsa.
Inni ni beela'a; humnas ni dhaba;
bishaan hin dhugu; ni gaggabas.
13 Namni muka soofu funyoodhaan safara
cilaattiidhaan mallattoo itti godha;
qirixiidhaan qiriixee
safartuudhaan mallattoo itti godha.
Fakkii namaatiin hojjeta;
akka inni galma waaqeffannaa keessa jiraatuufis
miidhagina namaa itti tolcha.
14 Inni birbirsa mura;
gaattiraa yookaan qilxuu filata.
Akka inni mukkeen bosonaa keessatti guddatuuf ni dhiisa;
yookaan hadheessa dhaaba; bokkaanis isa guddisa.
15 Mukni sun qoraan bobeeffamu ta'a;
namni muraasa isaa fudhatee bobeessee qaqqaammata;
ibidda qabsiisee buddeena ittiin tolfata.
Waaqa sobaas tolfatee waaqeffata;
waaqa tolfamaas tolfatee gad jedhee sagadaaf.
16 Gartokkee mukkeen sanaa ni bobeessa;
isa irratti nyaata bilcheeffata;
foonis irratti waaddatee hamma quufutti nyaata.
Ibidda qaqqaammachaas,
"Ishoo! Ibiddi natti ho'e; ibidda nan arga" jedha.
17 Mukkeen hafaniin immoo waaqa sobaa,
waaqa isaa tolfamaa tolfata;
gad jedhees ni sagadaaf.
Isa kadhatees,
"Situ Waaqa koo ti; na baraari" jedhaan.
18 Isaan homaa hin beekan; homaa hin hubatanis;
akka arguu hin dandeenyeef iji isaanii haguugameera;
akka hin hubanneefis qalbiin isaanii cufameera.
19 Namni tokko iyyuu itti hin yaadu;
namni tokko iyyuu akkana jechuuf beekumsa
yookaan hubannaa hin qabu;
"Ani walakkaa isaa qoraan godhadheera;
cilee isaa irratti buddeena tolfadhee
foon ittiin waaddadhee nyaadheera.
Ani amma waan hafe kanaan waan jibbisiisaa nan hojjedhaa?

Ani gad jedhee jirmaaf sagaduu qabaa?”
20 Inni daaraa nyaata; garaan gowwoomfames karaa irraa isa jal’iseera;
inni of oolchuu yookaan,
“Wanni harka koo mirgaa keessa jiru kun soba mitii?”
jechuu hin danda’u.

21 “Yaa Yaaqoob, ati waan kana yaadadhu;
yaa Israa’el, ati garbicha koo ti.
Ani si tolcheera; atis garbicha koo ti;
yaa Israa’el, ani si hin dagadhu.
22 Ani yakka kee akkuma duumessaa,
cubbuu kees akkuma hurrii ganamaa haxaa’ee balleesseera.
Ani si fureeraatii,
ati gara kootti deebi’i.”

23 Yaa samiiwwan, WAAQAYYO waan kana godheeraatii
gammachuudhaan faarfadhaa;
yaa qileewwan lafaa, gammachuudhaan iyyaa.
Isin yaa tulluuwwan, bosonoonnii fi mukkeen keessan hundi ililchaa;
WAAQAYYO Yaaqoobin furee Israa’el keessatti ulfina isaa ibseeraatii.

### *Yerusaalem Lafa Jireenyaa Ni Taati*

24 “WAAQAYYO Furiin kee,
kan gadameessa keessatti si tolche akkana jedha:

Ani WAAQAYYO Tolchaan waan hundaa
isa samiiwwan diriirse,
isa ofuma kootiin lafa illee diriirsee dha;
25 isa mallattoo raajota sobaa
busheessee ilaaltota raatessu,
isa ogeeyyii duubatti deebisee
beekumsa isaanii faayidaa dhabsiisuu dha;
26 isa dubbii garboota isaa mirkaneessee
raajii ergamoota isaa fiixaan baasu,

isa, ‘Isheen iddoo jireenyaa ni taati’ jedhee
waa’ee Yerusaalem dubbate, isa, ‘Isaan ni ijaaramu,
diigamaa isaaniis nan haaromsa’ jedhee
waa’ee magaalaawwan Yihuudaa dubbatuu dha;
27 isa tuujubaan, ‘Ati gogi;
ani lageen kee nan gogsa’ jedhu,
28 isa Qiirosin, ‘Inni tiksee koo ti;
fedhii koo hundas ni raawwata;
inni waa’ee Yerusaalem, “Isheen deebifamtee haa ijaaramtu”
waa’ee mana qulqullummaa immoo, “Hundeen isaa haa hundeeffamu”
jedhee dubbatu sun anuma.’

# 45

1 “WAAQAYYO dibamaa isaa Qiiros,
kan ani saboota isa jalatti bulchuu fi

hidhannaa moototaa hiiksisuuf jedhee
harka isaa mirgaa qabee
akka karrawwan hin cufamneef,
balbalawwan banuuf sanaan akkana jedha:
2 Ani fuula kee dura deemee
tulluuwwan wal nan qixxeessa;
karrawwan naasii nan caccabsa;
danqaraawwan sibiilaas nan kukkuta.
3 Ati akka ani WAAQAYYO
Waaqa Israa'el isa maqaa keetiin si waamu ta'e akka beektuuf,
ani badhaadhummaa dukkana keessaa,
qabeenya lafa dhoksaatti kuufames siif nan kenna.
4 Ati na beekuu baattu iyyuu,
ani garbicha koo Yaaqoobiif,
Israa'el filatamaa kootiif jedhee
maqaa keetiin si waameera;
maqaa ulfinaas siif kenneera.
5 Ani WAAQAYYO; ana malee kan biraa hin jiru;
ana malee Waaqni tokko iyyuu hin jiru.
Ati na beekuu baattu iyyuu, ani sin jabeessa;
6 Kunis akka namoonni ba'a biiftuutii hamma lixa biiftuutti,
ana malee kan biraa akka hin jirre beekaniif.
Ani WAAQAYYO; ana malee
tokko iyyuu hin jiru.
7 Ani ifa nan tolcha; dukkanas nan uuma;
badhaadhummaa nan fida; balaas nan uuma;
ani WAAQAYYO wantoota kanneen hunda nan godha.

8 "Yaa samiiwwan, isin ol gubbaadhaa qajeelummaa roobsaa;
duumessoonnis gad coccobsaa.
Lafti haa banamtu;
fayyinni haa biqilu;
qajeelummaanis isa wajjin haa guddatu;
ani WAAQAYYO waan kana uumeera.

9 "Qiraacii qiraaciidhuma lafaa ta'ee
Uumaa isaatiin wal loluuf wayyoo.
Supheen, suphee dhooftuudhaan,
'Ati maal hojjechaa jirta?' jedhaa?
Hojiin ati hojjettus,
'Inni harka hin qabu' siin jedhaa?
10 Nama Abbaadhaan, 'Ati maal dhalchite?'
yookaan haadhaan, 'Ati maal deesse?' jedhuuf wayyoo.

11 "WAAQAYYO, Qulqullichi Israa'el
Uumaan ishee sun akkana jedha:
Isin waa'ee wantoota dhufuuf jiranii jechuunis,
'Waa'ee ijoollee koo na gaafadhaa;
yookaan waa'ee hojii harka koo na ajajaa.'
12 Kan lafa tolchee namas ishee irratti uume ana.
Harki koo samiiwwan diriirseera;

raayyaa isaanii hundas ajajeera.
13 Ani qajeelummaa kootiin Qiirosin ol nan kaasa:
Karaa isaa hundas wal nan qixxeessa.
Inni magaalaa koo deebisee ijaara;
booji'amtoota koos bilisa baasa;
garuu gatiidhaan yookaan badhaasaan miti,
jedha WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u."
14 WAAQAYYO akkana jedha:
"Qabeenyi Gibxii fi daldalli Itoophiyaa,
namoonni dhedheeroon Saabaa,
gara kee ni dhufu;
kan kees ni ta'u;
isaan foncaadhaan hidhamanii
dugda duubaan si duukaa bu'u.
Fuula kee durattis gad jedhanii
'Dhugumaan Waaqni si wajjin jira;
isa malees tokko iyyuu hin jiru;
isa malees Waaqni biraa hin jiru'
jedhanii si kadhatu."

15 Yaa Waaqi, Fayyisaa Israa'el,
ati dhugumaan Waaqa of dhoksituu dha.
16 Warri waaqota tolfamoo tolchan hundinuu ni qaana'u; ni salphatu;
walii wajjinis salphina keessa bu'u.
17 Israa'el garuu fayyina bara baraatiin
WAAQAYYO ni fayyifama;
isin bara baraan hin qaanoftan;
yookaan hin salphattan.

18 WAAQAYYO akkana jedha;
kan samiiwwan uume, inni Waaqa;
inni lafa miidhagsee tolchee ishee hundeesse;
inni akka isheen iddoo jireenyaa taatuuf ishee uume malee
akka isheen ona taatuuf ishee hin uumne;
inni akkana jedha;
"Ani WAAQAYYO; ana malee kan biraa hin jiru.
19 Ani biyya dukkanaa keessaa
dhoksaadhaan hin dubbanne;
ani sanyiiwwan Yaaqoobiin,
'Akkasumaan na barbaadaa' hin jenne.
Ani WAAQAYYO dhugaa nan dubbadha;
waan qajeelaas nan labsa.

20 "Walitti qabamaa kottaa;
isin baqattoonni sabootaa wal ga'aa.
Warri waaqa tolfamaa muka irraa hojjetame baatan,
kanneen waaqota fayyisuu hin dandeenye kadhatan
homaa beekumsa hin qaban.
21 Waanan ta'uu qabu dubbadhaa; dhi'eeffadhaas;
isaanis walii wajjin haa mari'atan.
Eenyutu waan kana duraan dursee bara dheeraan dura hime?

Duruma iyyuu eenyutu labse?
Anuma WAAQAYYO mitii?
Ana malee Waaqni qajeelaa fi
Fayyisaan tokko iyyuu hin jiru;
ana malee tokko illee hin jiru.

22 “Isin warri handaara lafaa hundi,
gara kootti deebi’aatii fayyaa;
ani Waaqa; ana malee kan biraa hin jiruutii.
23 Ani mataa kootiin kakadheera;
afaan koos akkana jedhee qajeelummaadhaan
dubbii hin geeddaramne dubbateera;
‘Jilbi hundi fuula koo duratti ni jilbeenfata;
arrabni hundis anaan kakata.’
24 Isaanis, ‘Qajeelummaa fi jabinni WAAQAYYO qofaan argama’
jedhanii waa’ee koo ni dubbatu.”
Warri aariidhaan isatti ka’an hundi,
gara isaa dhufanii ni qaana’u.
25 Sanyiin Israa’el hundi garuu,
WAAQAYYOON qajeeltota taasifamu;
ni kabajamus.

# 46

### *Waaqota Baabilon*

1 Beel gad jedha; Neboo akka malee gugguufa;
waaqonni isaanii tolfamoon kotte duudaa fi horiitti fe’amaniiru;
fakkiiwwan isaan qabatanii jooran ba’aa dha;
horii dadhabeef ba’aa dha.
2 Isaan gugguufanii walii wajjin gad jedhu;
ba’aa sana oolchuu hin danda’an;
isaan iyyuu ni booji’amu.

3 “Yaa mana Yaaqoob,
isin hambaan mana Israa’el hundi,
warri ani gaafa isin gadameessa keessatti
uumamtanii jalqabee ol isin qabee
gaafa dhalattanii jalqabees isin baadhe hundi dhaggeeffadhaa.
4 Hamma dulloomtanii arrii baaftanitti,
ani isa; isuma isin jiraachisuu dha.
Ani isin uumeera; isinan baadhas;
ani isinan jiraachisa; isinan baraaras.

5 “Isin eenyuun wal bira na qabdu yookaan eenyuun wal na qixxeessitu?
Akka wal madaalluufis eenyutti na fakkeessitu?
6 Namoonni tokko tokko korojoo isaanii keessaa warqee gad naqanii
madaalliidhaan meetii madaalu;
Waaqa tolfamaa tolchuuf jedhanii tumtuu warqee qacaru;
isaanis gad jedhanii sagaduuf.
7 Ol fuudhanii gatiittii isaaniitti ni baatu;
iddoo isaatti ni deebisu; innis achi dhaabata.
Inni iddoo sanaa socho’uu hin danda’u.

Yoo namni gara isaatti iyye iyyuu, inni deebii hin kennu;
inni rakkoo isaa keessaa isa baasuu hin danda'u.

8 "Yaa finciltoota, waan kana yaadadhaa;
qalbiittis qabadhaa; garaa keessan keessas kaa'adhaa.
9 Wantoota darban kanneen bara durii yaadadhaa;
ani Waaqa; kan biraa hin jiru;
ani Waaqa; kan akka koo hin jiru.
10 Ani dhuma waan tokkoo jalqabumatti nan labsa;
waan amma iyyuu dhufuuf jiru, ani durumaa jalqabee dubbadheera.
Ani, 'Kaayoon koo cimee jiraata;
waan na gammachiisu hundas nan hojjedha' nan jedha.
11 Ba'a biiftuutii allaattii waa adamsitu,
lafa fagootii immoo nama kaayyoo koo fiixaan baasu nan waama.
Ani waanan dubbadhe nan guuta;
waanan karoorfadhes nan raawwadha.
12 Yaa mata jabeeyyii,
isin warri qajeelummaa irraa fagoo jirtan na dhaggeeffadhaa.
13 Ani qajeelummaa koo nan dhi'eessa;
innis fagoo hin jiru;
fayyisuun koos hin barfatu.
Ani Xiyooniif fayyina,
Israa'eliif immoo ulfina koo nan kenna.

# 47

*Kufaatii Baabilon*

1 "Yaa intala Baabilon Durba Qulqullittii,
gad bu'i; awwaara irra taa'i;
yaa Intala Baabilonotaa,
teessoo malee lafa taa'i!
Ati si'achi bareedduu
yookaan kichuu jedhamtee hin waamamtu.
2 Dhagaa daakuu fudhadhuutii midhaan daaki;
haguuggii kee of irraa fuudhi.
Wandaboo kee soqoladhu;
gudeeda kee mul'isi; laga ce'i.
3 Qullaan kee ifatti ni ba'a;
qaaniin kees hin dhokatu.
Ani haaloo nan ba'a;
ani nama tokko iyyuu hin dhiisu."

4 Furiin keenya maqaan isaa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha;
inni Qulqullicha Israa'el.

5 "Yaa Intala Baabilonotaa,
cal'isii taa'iitii dukkana seeni;
ati si'achi
mootittii mootummootaa jedhamtee hin waamamtu.
6 Ani saba kootti dheekkameera;
handhuuraa koos xureesseera;
ani dabarsee harka keetti isaan kenneera;
atis garaa hin laafneef.

Warra dullooman irra iyyuu
waanjoo ulfaataa keesse.
7 Ati, ‘Ani bara baraan itti fufee
mootittii bara baraa nan ta’a!’ jette.
Ati garuu wantoota kana hin hubanne
yookaan dhumni isaanii maal akka ta’u hin yaadanne.

8 “Ammas yaa ishee qananiituu,
kan nagaan jiraattee
garaa kee keessattis,
‘Anuma; ana malee tokko iyyuu hin jiru;
ani si’achi haadha hiyyeessaa
yookaan nama dhalee dhabe hin ta’u’ ofiin jettu dhaga’i.
9 Wantoonni kunneen lamaan,
dhalanii dhabuu fi haadha hiyyeessaa ta’uun
akkuma tasaa guyyuma tokkotti sitti dhufu.
Isaan baay’ina falfala keetiitii fi
tolcha kee cimaa sanaa hunda irraan iyyuu
humna isaanii guutuudhaan sitti dhufu.
10 Ati hammina kee amanattee,
‘Namni tokko iyyuu na hin argu’ jette.
Yeroo ati garaa kee keessatti, ‘Ana;
ana malee namni biraa hin jiru’ jettutti,
ogummaa fi beekumsi kee si dogoggorsu.
11 Wanni hamaan sitti dhufa;
ati immoo eessaa akka inni dhufu hin beektu.
Balaan ati of irraa ittisuu hin dandeenye tokko sitti dhufa;
badiisni ati duraan dursitee hin beekin akkuma tasaa sitti dhufa.

12 “Yoos ati tolcha keetii fi
falfala kee baay’ee ijoollummaa keetii jalqabdee
itti dadhabde sana jabeessii eegi.
Yoo akkas ta’e ati ni milkoofta;
yoo akkas ta’e nama ni sodaachifta ta’a.
13 Gorsi ati argatte hundi dadhabbii qofa sitti fide!
Urjii lakkooftonni kee
warri ji’a ji’aan urjii ilaalanii raajan sun,
mee waan sitti dhufu duraa si haa baasan kaa.
14 Dhugumaan isaan akkuma cidii ti;
ibiddi isaan guba.
Isaan mataa isaanii iyyuu,
humna arraba ibiddaa jalaa baasuu hin danda’an.
Barbadaan ibiddaa kan namni ho’ifatu
tokko iyyuu hin jiru;
ibiddi bira taa’anis hin argamu.
15 Wanni warri ati wajjin dadhabdee
ijoollummaa keetii jalqabdee wajjin daldalte sun
siif gochuu danda’an kanuma.
Tokkoon tokkoon isaanii dogoggora isaanii itti fufan;
kan si baasuu danda’u tokko iyyuu hin jiru.

# 48

*Mataa Jabaachuu Israa'el*

1 "Yaa mana Yaaqoob,
isin warri maqaa Israa'eliin waamamtan,
kanneen sanyii Yihuudaa irraa argamtan,
isin warri maqaa WAAQAYYOOTIIN kakattanii
garuu dhugaadhaan yookaan qajeelummaadhaan utuu hin ta'in
maqaa Waaqa Israa'el dhooftan waan kana dhaggeeffadhaa;
2 isin warri maqaa magaalaa qulqullittiitiin of waamtan,
kanneen Waaqa Israa'elitti irkattan,
waan kana dhaggeeffadhaa;
maqaan isaa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha:
3 Ani wantoota durii duraan dursee dubbadheera;
isaan afaan kootii ba'an; 1 anis akka isaan beekaman nan godhe;
anis akkuma tasaa hojjedhe; isaanis ni raawwataman.
4 Ani akka ati mata jabeessa taate beekeen tureetii;
ribuun morma keetii sibiila ture;
addi kee naasii ture.
5 Kanaafuu ani wantoota kanneen bara dheeraan dura sitti himeera;
ani akka ati, 'waaqota koo tolfamootu isaan hojjete;
fakkii koo kan muka irraa hojjetamee fi
waaqa sibiila irraa hojjetametu murteesse'
jechuu hin dandeenyeef
utuu isaan hin uumaminiin dura sitti himeera.
6 Ati wantoota kanneen dhageesseerta; isaan hunda ilaali.
Ati isaan amantee hin fudhattuu?

"Ani ammaa jalqabee waan haaraa,
waan dhokfamee jiru kan ati hin beekin sitti nan hima.
7 Isaan amma uumaman malee bara dheeraan dura miti;
ati har'aan dura waa'ee isaanii hin dhageenye.
Kanaafuu ati,
'Kunoo ani waa'ee isaanii beekeen ture'
jechuu hin dandeessu.
8 Ati takkumaa dhageessee yookaan hubattee hin beektu;
gurri kee durumaa jalqabee hin banamne.
Ani akka ati micciiramaa taate beeka;
ati dhaloota keetii jalqabdee fincilaa jedhamtee waamamte.
9 Ani maqaa kootiif jedhee dheekkamsa koo nan tursiisa;
ani akka si hin balleessineef galata kootiif jedhee
dheekkamsa koo duubatti harkisa.
10 Kunoo, ani yoo akka meetiitti ta'uu baate iyyuu
si qulqulleesseera;
ibidda dhiphinaa keessattis qoree si ilaaleera.
11 Ani ofii kootiif jedhee, ofuma kootiif jedhee waan kana nan godha.
Maqaan koo akkamitti baduu danda'a?
Ani ulfina koo dabarsee kan biraatiif hin kennu.

*Israa'el Bilisoomte*

12 "Yaa Yaaqoob, Yaa Israa'el kan ani si waame,
na dhaggeeffadhu:
Ani isuma; ani kan jalqabaa ti;

ani kan dhumaa ti.
13 Harki koo hundeewwan lafaa dhaabe;
harki koo mirgaa immoo samiiwwan diriirse;
yommuu ani isaan waamutti,
hundi isaanii walii wajjin dhaabatu.

14 “Hundi keessan walitti qabamaatii dhaggeeffadhaa;
waaqota tolfamoo keessaa kamitu duraan dursee
wantoota kanneen dubbate?
Michuun WAAQAYYOO filatamaan
kaayyoo Waaqaa Baabilon irratti fiixaan baasa;
irreen isaa Baabilonotatti ka’a.
15 Ani, ani mataan koo dubbadheera;
dhugumaan ani isa waameera.
Ani isa nan fida;
innis karaa isaa irratti ni milkaa’a.
16 “Natti dhi’aadhaatii waan kana dhaga’aa:
“Ani jalqabumaa kaasee dhoksaatti hin dubbanne;
yeroo wanni sun ta’ettis ani achuman ture.”

Ammas WAAQAYYO Gooftaanii fi
Hafuurri isaa na erganiiru.

17 WAAQAYYO Furiin kee,
Qulqullichi Israa’el akkana jedha:
“Ani WAAQAYYO Waaqa kee,
kan waan siif tolu si barsiisu,
kan karaa ati deemuu qabdu irra si qajeelchuu dha.
18 Ati utuu ajaja koo qalbeeffattee jiraattee,
nagaan kee akka lagaa,
qajeelummaan kee immoo akka dha’aa galaanaa ta’a ture.
19 Sanyiin kee akkuma cirrachaa,
ijoolleen kee akkuma biyyoo lafaa baay’atu ture;
maqaan isaanii hin haqamu;
isaanis fuula koo duraa hin dhabaman ture.”

20 Baabilon keessaa ba’aa;
Baabilonota duraa baqadhaa!
Waan kana iyya gammachuutiin beeksisaa; labsaas.
Hamma handaara lafaatti dabarsaa;
“WAAQAYYO garbicha isaa Yaaqoobin fureera” jedhaa.
21 Isaan yommuu inni lafa gammoojjii keessa isaan qajeelchetti
hin dheebonne;
inni kattaa keessaa bishaan burqisiiseef;
inni kattaa dhoosee,
bishaanis humnaan cabsee ba’e.

22 “Hamootaaf nagaan hin jiru” jedha WAAQAYYO.

# 49

*Tajaajilaa WAAQAYYOO*

1 Yaa biyyoota bishaan gidduu na dhaggeeffadhaa;

yaa saboota fagoo jiraattan waan kana dhaga’aa:
Utuu ani hin dhalatin dura WAAQAYYO na waame;
utuu ani gadameessa haadha koo keessa jiruu maqaa naa baase.
2 Inni afaan koo akka goraadee qaramee godhe;
gaaddidduu harka isaatiin na dhokse;
xiyya cululuqfame na godhee,
man’ee xiyya isaa keessa na kaa’ate.
3 Innis, “Yaa Israa’el, ati garbicha koo
kan ani ulfina koo isa irratti mul’isuu dha” anaan jedhe.
4 Ani garuu, “Akkasumaanan itti dadhabe;
humna koos waanuma faayidaa hin qabnettan fixe.
Ta’us dhugaan koo harka WAAQAYYOO,
gatiin koos Waaqa bira jira” nan jedhe.

5 Waan ani fuula WAAQAYYOO duratti ulfina argadhee
Waaqni koo jabina naa ta’eef,
WAAQAYYO inni akka ani Yaaqoobin deebisee gara isaatti fiduuf,
Israa’elin isa biratti walitti qabuuf,
akka ani garbicha isaa ta’uuf
gadameessa keessatti na tolche sun akkana jedha;
6 Innis, “Ati gosoota Yaaqoob deebiftee dhaabuuf,
Israa’eloota ani eege sanas deebiftee fiduuf
garbicha koo ta’uun kee siif baay’ee salphaa dha.
Akka fayyinni koo qarqara lafaa ga’uuf
ani Namoota Ormaatiif ibsaa sin taasisa” jedha.

7 WAAQAYYO Furii fi Qulqullichi Israa’el,
isa namaan tuffatamee sabnis jibbe,
tajaajilaa bulchitootaa sanaan akkana jedha:
“Sababii WAAQAYYO amanamaa
Qulqullicha Israa’el isa si filate sanaatiif
jedhanii mootonni si arganii ol ka’u;
ilmaan moototaas arganii sagadu.”

### *Deebifamtee Ijaaramuu Israa’el*

8 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani yeroo fudhatama qabutti siifin deebisa;
gaafa fayyinaattis sin gargaara;
akka ati dhaala abbaa hin qabne
deebiftee dhaalchiftuuf,
ani sin eega;
akka ati sabaaf kakuu taatus sin godha;
9 akka ati warra booji’amaniin, ‘Kottaa ba’aa’
warra dukkana keessa jiraataniin immoo, ‘Bilisa ba’aa’ jettu sin godha.

“Isaan karaa irratti waa nyaatu;
gaara qulqullaa’aa irrattis iddoo qubataa argatu.
10 Isaan hin beela’an; hin dheebotanis;
ho’i gammoojjii yookaan aduun isaan hin gubu.
Inni isaaniif garaa laafu isaan geggeessa;
qarqara burqaa bishaanii irra isaan qajeelcha.

11 Tulluuwwan koo hunda karaatti nan geeddara;
daandiiwwan koo gurguddaanis wal qixxeeffamu.
12 Kunoo, isaan biyya fagoodhaa ni dhufu;
gariin kaabaa, gariin dhi’aa,
kaan immoo biyya Aswaaniitii ni dhufu.”

13 Yaa samiiwwan, ililchaa;
yaa lafa gammadi;
yaa tulluuwwan, guddisaa faarfadhaa!
WAAQAYYO saba isaa ni jajjabeessa;
warra rakkataniifis garaa ni laafaatii.

14 Xiyoon garuu, “WAAQAYYO na gateera;
Gooftaanis na irraanfateera” jette.

15 “Haati daa’ima ishee kan hoosiftu
irraanfachuu ni dandeessii?
Mucaa deesseefis garaa hin laaftuu?
Yoo isheen irraanfatte iyyuu ani si hin irraanfadhu!
16 Kunoo, ani barruu harka koo irratti si qirixeera;
dallaawwan kee yeroo hunda fuula koo dura jiru.
17 Ilmaan kee ariitiidhaan ni dacha’u;
warri si diiganis sirraa baqatu.
18 Ija kee ol fudhadhuutii naannoo kee ilaali;
ilmaan kee hundi walitti qabamanii gara kee ni dhufu.
Ani jiraataadhaatii” jedha WAAQAYYO.
“Ati isaan kanneen hunda akka faayaatti ni uffatta;
akka misirroottis ittiin miidhagfamta.

19 “Ati diigamtee ontee
biyyi kee barbadaa’u iyyuu
amma saba keetti lafti ni dhiphata;
warri si liqimsan sirraa ni fagaatu.
20 Ijoolleen ati yeroo gadda keetiitti deesse,
utuma gurri kee dhaga’uu,
‘Lafti kun nutti dhiphateera;
lafa irra jiraannu nuuf kenni’ siin jedhu.
21 Ergasii ati garaa keetti akkana jetta;
‘Eenyutu jara kanneen naa da’e?
Ani gaddituu fi maseentuun ture;
ani baqattuu fi jibbamtuun ture.
Isaan kanneen eenyutu guddise?
Ani kophaatti hafeen ture;
yoos, isaan kunneen eessaa dhufan ree?’ ”
22 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“Kunoo ani namoota ormaa harkaan nan waama;
faajjii koos uummataaf ol nan qaba;
isaan ilmaan kee hammatanii fidu;
intallan kee immoo gatiittii isaaniitti baatu.
23 Mootonni abbootii kee kanneen si guddisan,

niitonni isaanii immoo haadhota kee kanneen harma si hoosisan ni ta'u.
Isaan adda isaaniitiin lafatti gombifamanii siif sagadu;
awwaara miilla keetii illee ni arraabu.
Ergasii ati akka ani WAAQAYYO ta'e ni beekta;
warri na abdatan hin salphatan."

24 Goototta harkaa boojuu fudhachuun,
gara jabeeyyii harkaas boojuu baasuun ni danda'amaa?
25 WAAQAYYO garuu akkana jedha:
"Eeyyee, goototta harkaa booji'amtoonni ni baafamu;
gara jabeeyyii harkaas boojuun ni fudhatama;
warra siin falmaniin nan falma;
ijoollee kees nan baraara.
26 Ani akka warri si hacuucan foon ofii isaanii nyaatan nan godha;
isaan akkuma nama daadhii wayiniitiin machaa'uu
dhiiga ofii isaaniitiin ni machaa'u.
Ergasii sanyiin namaa hundi,
akka ani WAAQAYYO, Fayyisaan kee,
Furiin kee, Jabaa Yaaqoob ta'e ni beeka."

# 50

*Cubbuu Israa'elii fi Ajajamuu Tajaajiltichaa*

1 WAAQAYYO akkana jedha:
"Waraqaan ragaa, kan ani ittiin haadha keessan hiikee
of irraa ittiin ishee geggeesse meerre?
Yookaan namni liqii narraa qabu
kan ani itti isin gurgure eenyu?
Isin sababii cubbuu keessaniif gurguramtaniirtu;
sababii yakka keessaniitiifis haati keessan ari'amteerti.
2 Yeroo ani dhufetti namni maaliif achi hin jiraatin?
Yeroo ani waametti namni owwaatu maaliif achii dhabame?
Harki koo akka furuu hin dandeenyeef gabaabateeraa?
Ani isin baraaruuf humna dhabeeraa?
Ani dheekkamsa qofaan galaana nan gogsa;
lageenis gammoojjiitti nan geeddara;
qurxummiiwwan isaanii bishaan dhabanii ajaa'u;
dheebuudhaanis ni dhumu.
3 Ani samiitti dukkana nan uffisa;
wayyaa gaddaas itti nan haguuga."

4 Akka ani warra dadhaban jajjabeessuuf,
WAAQAYYO Gooftaan arraba barate naa kenneera.
Inni ganama ganama na dammaqsa;
akka inni akkuma barataa tokkootti dhaggeeffatuufis
gurra koo dammaqsa.
5 WAAQAYYO Gooftaan gurra koo naa baneera;
anis fincilaa hin turre;
ani dugda duubatti hin deebine.
6 Ani warra na rukutanitti dugda koo,
warra areeda narraa buqqisanitti immoo maddii koo nan kenne;
yeroo isaan natti qoosanii hancufa natti tufanitti,

ani fuula koo isaan hin dhokfanne.
7 Sababii WAAQAYYO Gooftaan na gargaaruuf,
ani hin salphifamu.
Kanaafuu ani fuula koo akkuma dhagaa gurraachaa godhadheera;
ani akka hin qaaneffamne illee nan beeka.
8 Inni dhugaa naaf baasu dhi’oo jira.
Yoos eenyutu na himata ree?
Mee walitti gad haa baanu!
Himataan koo eenyu?
Inni mee natti gad haa ba’u!
9 WAAQAYYO Gooftaatu na gargaara.
Eenyutu natti mura?
Isaan hundi akkuma wayyaa moofa’u;
dholdholeenis isaan nyaatti.

10 Isin keessaa kan WAAQAYYOON sodaatee
dubbii garbicha isaatiif ajajamu eenyu?
Namni dukkana keessa deddeebi’u,
kan ifa hin qabne,
maqaa WAAQAYYOO amanatee
Waaqa isaatti haa irkatu.
11 Amma garuu isin warri ibidda bobeessitanii
guca boba’aa deemu qabattan hundinuu
ifa ibiddaa keessaniitii fi ifa guca
bobeessitanii keessa deemaa.
Wanni isin harka koo irraa argattan kanaa dha;
isin dhiphinaan ni ciciiftu.

# 51

*Fayyina Bara baraa Xiyooniif*

1 “Isin warri qajeelummaa duukaa buutan,
warri WAAQAYYOON barbaaddan na dhaggeeffadhaa:
Isin kattaa irraa argamtan,
boolla keessaa baafamtan sana ilaalaa.
2 Abbaa keessan Abrahaamii fi
Saaraa ishee isin deesse sana ilaalaa.
Yeroo ani isa waametti, inni tokkicha ture;
ani isa nan eebbise; nan baay’ises.
3 WAAQAYYO dhugumaan Xiyoonin ni jajjabeessa;
diigama ishee hundas gara laafinaan ni ilaala;
inni gammoojjii ishee goggogaa akka Eeden,
lafa onaa ishees akka iddoo biqiltuu WAAQAYYOO ni godha.
Ililchuu fi gammaduun,
galannii fi sagaleen faarfannaa ishee keessatti argama.

4 “Yaa uummata koo na dhaggeeffadhaa;
yaa saba koo na dhaga’aa;
seerri na biraa ba’a;
murtiin koos sabootaaf ifa ta’a.
5 Qajeelummaan koo dafee dhi’aata;
fayyisuun koos dhufaa jira;

irreen koo moototaaf murtii qajeelaa fida;
biyyoonni bishaan gidduu na eeggatu;
irree koos ni abdatu.
6 Ija keessan gara samiiwwaniitti ol qabadhaa;
lafas gad ilaalaa;
samiiwwan akkuma aaraa ni badu;
lafti akkuma wayyaa moofofti.
Jiraattonni ishees akkuma tisiisaa ni du'an.
Fayyisuun koo garuu bara baraan jiraata;
qajeelummaan koos hin badu.

7 "Isin warri waan qajeelaa beektan
namoonni seera koo garaa keessaa qabdan na dhaga'aa;
tuffii namootaa hin sodaatinaa;
yookaan arrabsoo isaaniitiin hin raafaminaa.
8 Biliin akka wayyaatti isaan nyaatti;
raammoonis akkuma rifeensa hoolaatti isaan fixxi.
Garuu qajeelummaan koo bara baraan,
fayyisuun koos dhalootaa gara dhalootaatti itti fufa."

9 Yaa irree WAAQAYYOO, ka'i; ka'i! Jabina uffadhu;
akkuma baroota darbanii,
akkuma dhaloota durii keessatti ta'e sana ka'i.
Kan Ra'aabin kukkute,
kan jawwee galaanaa waraane sun suma mitii?
10 Inni akka warri furaman ce'aniif, galaanicha,
bishaan tuujuba guddichaa gogse,
kan dhidhima galaanaa keessaan karaa baase suma mitii?
11 Warri WAAQAYYO isaan fure ni deebi'u.
Isaan faarfannaadhaan Xiyoon seenu;
gammachuun bara baraa mataa isaanii irra jiraata.
Isaan gammachuu fi ililleedhaan guutamu;
gaddii fi boo'ichi isaan irraa fagaatu.

12 "Kan isin jajjabeessu ana; anuma.
Yoos maaliif namoota du'a hin oolle,
ilmaan namaa kanneen akkuma margaa ta'an sodaattu ree?
13 Ati kan WAAQAYYO Tolchaa kee,
isa samiiwwan diriirsee
hundee lafaa buuse sana dagattu eenyu?
Ati kan sababii dheekkamsa cunqursaa
waa balleessuuf qophaa'e sanaatiif
utuu gargar hin kutin guyyaa guyyaan sodaattu eenyu?
Yoos dheekkamsi cunqursaa sanaa meerree?
14 Booji'amtoonni hidhaman ariitiidhaan gad dhiifamu;
isaan boolla itti hidhaman keessatti hin du'an
yookaan buddeena hin dhaban.
15 Ani WAAQAYYO Waaqa kee,
kan akka dha'aan bishaanii huursuuf galaana raasuu dha;
maqaan isaas WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha.
16 Ani kan samiiwwan iddoo isaanii kaa'e,
kan hundee lafaa hundeessee

Xiyooniin, ‘Ati saba koo ti’ jedhe sun,
dubbii koo afaan kee keessa kaa’eera;
gaaddidduu harka kootiinis si haguugeera.”

### *Xoofoo Dheekkamsa WAAQAYYOO*

17 Yaa Yerusaalem, ati kan harka WAAQAYYOO irraa,
xoofoo dheekkamsa isaa keessaa dhugde,
ati kan xoofoo dhugaatii nama gatantarsuu keessaa
siicoo isaa xuruurfattee dhugde,
dammaqi, dammaqi! Ol ka’i.
18 Ilmaan isheen deesse hunda keessaa,
kan ishee qajeelchu tokko iyyuu hin turre;
ilmaan isheen guddifte hunda keessaas,
kan harka ishee qabu tokko iyyuu hin turre.
19 Balaawwan kunneen dachaadhaan sitti dhufaniiru;
egaa eenyutu si jajjabeessuu danda’a?
Diigamnii fi badiisni, beellii fi goraadeen sitti dhufaniiru;
eegaa eenyutu si jajjabeessuu danda’a?
20 Ijoolleen kee gaggabaniiru;
akkuma borofa kiyyoon qabame tokkoo,
roga karaa irra ciciisu.
Isaan dheekkamsa WAAQAYYOOTIIN,
ifata Waaqa keetiinis guutamaniiru.

21 Kanaafuu yaa ishee miidhamte,
kan utuu daadhii wayinii hin dhugin machoofte,
waan kana dhaga’i.
22 WAAQAYYO Gooftaan kee,
Waaqni kee inni saba isaa eegu akkana jedha:
“Kunoo ani xoofoo dhugaatii nama gatantarsu
harka keetii fuudheera;
ati si’achi xoofoo dheekkamsa koo
keessaa deebitee hin dhugdu.
23 Anis xoofoo sana harka warra si dhiphisan
kanneen, ‘Akka nu sirra yaanuuf, lafa irra diriirfami’
siin jedhan sanaa keessa nan kaa’a.
Ati immoo dugda kee akkuma lafaa,
akkuma daandii namni irra deemuu goote.”

## 52

1 Yaa Xiyoon, dammaqi, dammaqi;
jabina kee uffadhu!
Yaa Yerusaalem, yaa magaalaa qulqullittii,
wayyaa kee miidhagaa sana uffadhu.
Namoonni dhagna hin qabaminii fi
xuraa’onni lammaffaa sitti hin seenan.
2 Yaa Yerusaalem, awwaara of irraa dhadha’adhu;
ka’iitii teessoo irra taa’i.
Yaa intala Xiyoon booji’amtittii,
foncaa morma keetii of irraa hiiki.

3 WAAQAYYO akkana jedhaatii:
"Isin gatii malee gurguramtanii turtan;
amma immoo maallaqa malee furamtan."
4 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii:
"Jalqabatti sabni koo jiraachuuf jedhee Gibxitti gad bu'e;
ergasii Asoor sababii malee isaan cunqurse.
5 "Yoos ani amma maalan asii qaba?" jedha WAAQAYYO.
"Sabni koo sababii malee fudhatameera;
warri isaan bulchanis ni qoosu" jedha WAAQAYYO.
"Guyyaa guutuus,
maqaan koo ittuma fufee arrabsama.
6 Kanaafuu sabni koo maqaa koo ni beeka;
kanaafuu isaan gaafas kan duraan dursee waan sana dubbate akka ana ta'e ni beeku.
Eeyyee, inni anuma."

7 Miilli warra wangeela fidanii,
kan nagaa labsanii,
kan oduu gammachiisaa fidanii,
kan fayyina labsanii, kan Xiyooniin,
"Waaqni kee mo'eera!" jedhanii
tulluuwwan irratti akkam miidhagaa dha!
8 Dhaggeeffadhu! Eegdonni kee sagalee isaanii ol fudhataniiru;
isaan tokkummaadhaan gammachuudhaan iyyu.
Yeroo WAAQAYYO Xiyoonitti deebi'utti,
isaan ijuma isaaniitiin ni argu.
9 Yaa diigamtoota Yerusaalem
tokkummaadhaan faarfannaa gammachuu faarfadhaa;
WAAQAYYO uummata isaa jajjabeessee
Yerusaaleminis fureeraa.
10 WAAQAYYO fuula saboota hundaa duratti,
irree isaa qulqulluu sana ni mul'isa;
handaarri lafaa hundis
fayyisuu Waaqa keenyaa ni argu.

11 Isin warri mi'a WAAQAYYOO baattan, addaan ba'aa;
addaan ba'aa; achii fagaadhaa!
Waan xuraa'aa tokko illee hin tuqinaa!
Ishee keessaa ba'aatii qulqulloota ta'a.
12 Isin garuu ariitiidhaan achii hin baatan;
yookaan baqattanii hin deemtan;
WAAQAYYO fuula keessan dura deemaatii;
Waaqni Israa'el dugda duubaan isin eega.

### *Dhiphinaa fi Ulfina Garbicha Sanaa*

13 Kunoo, garbichi koo ogummaadhaan hojjeta;
inni ni kabajama; ol kaafama; ulfina guddaas ni argata.
14 Namoonni baay'een waa'ee isaa hamma na'anitti,
fuulli isaa nama hundumaa caalaa golgolaa'eera;
bifti isaas nama hundumaa caalaa badeera;
15 akkasiinis inni saboota hedduu dinqisiifachiisa;

mootonni sababii isaatiif afaan isaanii qabatu.
Isaan waan isaanitti hin himamin arguutii;
waan hin dhaga'inis ni hubatu.

# 53

1 Ergaa keenya eenyutu amane?
Irreen WAAQAYYOOs eenyutti mul'ate?
2 Inni fuula isaa duratti akkuma biqiltuu kichuu,
akkuma hidda lafa gogaa keessaa ba'u tokkootti guddate.
Akka nu isa ilaalluuf, inni bifa hin tolu,
yookaan simboo hin qabu;
akka nu isa hawwinuufis miidhagina hin qabu.
3 Inni nama biratti tuffatamee jibbame;
inni nama gaddaa fi gadadamuun jiraatuu dha.
Akkuma nama namoonni fuula isaanii irraa garagalfatanii,
inni ni tuffatame; nus ulfina hin kennineef.

4 Dhugumaan inni dhukkuba keenya fudhate;
gadda keenyas baate;
nu garuu akka waan Waaqni isa dha'eetti,
akka waan inni rukutee isa miidheetti isa hedne.
5 Inni garuu sababii yakka keenyaatiif waraaname;
balleessaa keenyaafis caccabsame;
nu adabamuu isaatiin nagaa arganne;
madaa'uu isaatiin immoo fayyine.
6 Hundi keenya akka hoolaa
karaa irraa badnee turre;
tokkoon tokkoon keenya gara karaa keenyaatti gorre;
WAAQAYYOs balleessaa hunda keenyaa isa irra kaa'e.

7 Inni ni cunqurfame; ni dhiphates;
garuu afaan isaa hin saaqqanne;
inni akkuma ilmoo hoolaa kan iddoo qalmaatti geeffamuu,
akkuma hoolaa fuula nama rifeensa irraa murmuruu duratti cal'isuu,
akkasuma afaan isaa hin saaqqanne.
8 Inni cunqursaa fi murtiidhaan fudhatame.
Eenyutu waa'ee dhaloota isaa dubbachuu danda'a?
Inni biyya jiraattotaa irraa kutameeraatii;
dogoggora saba kootiifis rukutameera.
9 Inni goolii kaasuu baatu iyyuu,
yookaan sobni afaan isaatii ba'uu baatu iyyuu
akka awwaalli isaa hamoota wajjin
duuti isaas sooreyyii wajjin ta'u godhan.

10 Ta'us isa dirmammeessuu fi isa dhiphisuun fedhii WAAQAYYOO ture;
WAAQAYYO lubbuu isaa aarsaa yakkaa godhu iyyuu
inni sanyii isaa ni arga; umurii isaas ni dheeressa;
fedhiin WAAQAYYOOs harka isaatti ni raawwatama.
11 Inni erga lubbuun isaa dhiphatee booddee,
ifa ni arga; ni gammadas;

garbichi koo qajeelaan sun beekumsa isaatiin namoota baay'ee
qajeeltota taasisa;
yakka isaaniis ni baata.
12 Kanaafuu ani gurguddoota gidduutti qooda nan kennaaf;
innis jajjaboota wajjin boojuu ni qooddata;
inni lubbuu isaa du'aaf kennee
yakkitootatti lakkaa'ameeraatii.
Ta'us inni cubbuu nama hedduu baatee
yakkamtootaaf araara buuseera.

# 54

*Ulfina Egeree Xiyoon*

1 "Yaa dubartii dhabduu,
kan takkumaa hin da'in, amma faarfadhu;
ati kan takkumaa ciniinsifattee hin beekin iyyii faarfadhu;
guddisiitii ililchi.
Ijoollee dubartii dhirsa qabduu caalaa
ijoolleen dubartii gatamtee ni baay'atu"
jedha WAAQAYYO.
2 "Iddoo dunkaana keetii bal'ifadhu;
golgaa dunkaana keetii bal'isii diriirsi;
walitti hin dachaasin;
funyoo kee dheereffadhu;
qofoo kees jabeeffadhu.
3 Ati gara mirgaattii fi gara bitaatti ni babal'attaatii;
sanyiiwwan kee saboota ni dhaalu;
magaalaawwan isaanii kanneen duwwaa hafan keessas ni qubatu.

4 "Hin sodaatin; ati hin qaanoftuutii.
Hin yaadda'in; ati hin salphattuutii;
Qaanii ijoollummaa keetii ni dagatta;
tuffii dhirsi kee sirraa duunaan sirra ga'es si'achi hin yaadattu.
5 Uumaan kee dhirsa keeti;
maqaan isaas WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha;
Qulqullichi Israa'el Furii kee ti;
innis Waaqa guutummaa lafaa jedhama.
6 WAAQAYYO akka waan ati
akkuma niitii gatamtee garaan ishee gaddee,
akka niitii dargaggeessaa kan jibbamteetti
deebisee ofitti si waama" jedha Waaqni kee.
7 "Ani yeroo muraasaafan si dhiise;
garuu gara laafina guddaadhaan deebisee sin fida.
8 Ani dheekkamsa guddaadhaan
yeroo muraasaaf fuula koo si dhokfadheen ture;
garuu jaalala bara baraatiin,
garaa siifin laafa"
jedha WAAQAYYO Furiin kee.

9 "Wanni kun anaaf akkuma bara Nohi,
yeroo ani itti bishaan Nohi deebi'ee lafa irra hin garagalu jedhee
kakadhe sanaa ti.

Kanaafuu ani akkan sitti hin aarre,
gonkumaas lammata akkan si hin ifanne kakadheera.
10 Tulluuwwan raafamanii,
gaarran buqqifaman iyyuu,
jaalalli hin geeddaramne kan ani siif qabu garuu hin raafamu;
yookaan kakuun koo kan nagaa hin diigamu"
jedha WAAQAYYO inni garaa siif laafu sun.

11 "Yaa magaalaa miidhamte kan dambaliidhaan garagalfamtee
nama si jajjabeessu dhabde,
ani dhagaa gatii guddaatiin si ijaaree
sanpeeriidhaanis si hundeessa.
12 Ani fiixee kee lula diimaadhaan,
karrawwan kee dooqa calaqqisuun,
dallaa kee hunda immoo dhagaawwan gati jabeeyyiidhaan nan ijaara.
13 WAAQAYYO ilmaan kee hunda ni barsiisa;
nagaan ijoollee keetiis guddaa ta'a.
14 Ati qajeelummaadhaan hundeeffamta;
cunqurfamuun sirraa fagaata;
wanni si sodaachisu tokko iyyuu hin jiru.
Gooliin sirraa fageeffama;
sitti iyyuu hin dhi'aatu.
15 Yoo namni tokko iyyuu lola sitti kaase ani keessaa hin qabu;
namni lola sitti kaasu kam iyyuu harka sitti kennata.

16 "Kunoo, kan tumtuu sibiilaa kan cilee buufee
ibidda bobeessee mi'a waraanaa tumee
hojii isaatiif mijeessu sana uume anuma.
Kan nama waa balleessu tokko akka inni balaa buusuuf uumes anuma;
17 meeshaan si miidhuuf tolfame kam iyyuu hin milkaa'u;
atis arraba si himatu hunda of irraa deebifta.
Kun dhaala tajaajiltoota WAAQAYYOO ti;
innis qajeelummaa isaan narraa argatanii dha"
jedha WAAQAYYO.

# 55

### *Affeerraa Warra Dheebotaniif Godhame*

1 "Isin warri dheebottan hundinuu kottaa;
gara bishaanii kottaa;
isin warri maallaqa hin qabne,
kottaatii bitadhaa; nyaadhaas!
Kottaatii maallaqaa fi gatii malee
daadhii wayiniitii fi aannan bitadhaa.
2 Isin maaliif waan buddeena hin ta'initti maallaqa baaftu?
Waan nama hin quubsine irrattis maaliif humna keessan fixxu?
Dhaga'aa; na dhaga'aa; waan gaarii nyaadhaa;
lubbuun keessanis coomaan haa gammaddu.
3 Gurra naaf kennaatii gara koo kottaa;
akka lubbuun keessan jiraattuufis na dhaga'aa.
Ani kakuu bara baraa isin wajjin nan gala;

innis jaalala amanamaa isa Daawit
abdachiifame sanaa dha;
4 kunoo ani sabootaaf dhuga baatuu isa godheera;
hoogganaa fi ajajaa sabootaas isa taasiseera.
5 Sababii WAAQAYYO Waaqni kee,
Qulqullichi Israa’el sun, ulfina siif kenneef,
ati dhugumaan saboota hin beekne ni waamta;
saboonni si hin beeknes ariitiidhaan gara kee dhufu.”

6 Yeroo inni argamutti WAAQAYYOON barbaaddadhaa;
yeroo inni dhi’oo jiruttis isa waammadhaa.
7 Namni hamaan karaa isaa,
namni jal’aan immoo yaada isaa haa dhiisu.
Inni gara WAAQAYYOOTTI haa deebi’u; innis ni araaramaaf;
gara Waaqa keenyaatti haa deebi’u; dhiifamni isaa baay’eedhaatii.

8 “Yaadni koo yaada keessan,
karaan keessanis karaa koo miti”
jedha WAAQAYYO.
9 “Akkuma samiiwwan lafa irraa ol fagaatan sana,
karaan koo karaa keessan irraa,
yaadni koos yaada keessan irraa ol fagoo dha.
10 Akkuma bokkaa fi cabbiin samiidhaa roobu sana,
akka lafti biqila biqilchitee isa facaafatuuf sanyii,
isa nyaatuuf immoo buddeena kennituuf malee
utuu ishee hin quubsin hin deebine sana,
11 dubbiin koo kan afaan kootii ba’us
fedhii koo raawwata;
kaayyoo ani isa ergeefis galmaan ga’a malee
harka duwwaa gara kootti hin deebi’u.
12 Isin gammachuudhaan baatu;
nagaadhaan geggeeffamtu;
tulluuwwanii fi gaarran,
fuula keessan duratti ililchanii faarfatu;
mukkeen dirree hundinuus
harka walitti rukutu.
13 Qooda qoraattii birbirsi,
qooda sokorruus kusaayeen ni biqila.
Kunis WAAQAYYOOF yaadannoo,
mallattoo bara baraa kan hin badne ta’a.”

# 56

*Fayyina Warra Kaaniif Kenname*

1 WAAQAYYO akkana jedha:
Sababii fayyisuun koo dhi’aatee fi
qajeelummaan koo dafee mul’atuuf,
“Murtii qajeelaa eegaa;
waan qajeelaas hojjedhaa.
2 Namni waan kana hojjetu,
kan waan kanattis cimu,

kan Sanbata utuu hin xureessin
eeguu fi waan hamaa kam iyyuu
hojjechuu irraa harka isaa eeggatu eebbifamaa dha."

3 Alagaan WAAQAYYOTTI cichee tokko,
"WAAQAYYO dhugumaan
saba isaa irraa addaan na baasa" hin jedhin.
Xu'aashiin kam iyyuus,
"Ani mukuma gogaadha" ofiin hin jedhin.
4 WAAQAYYO akkana jedhaatii:
"Xu'aashiiwwan Sanbatoota koo eegan,
kanneen waan na gammachiisu
filatanii fi kakuu koo jabeessanii eeganiif,
5 ani mana qulqullummaa kootii fi
dallaa isaa keessatti yaadannoo fi maqaa
ilmaanii fi intallan caalu tokko nan kennaaf;
ani maqaa bara baraa
kan hin haqamne isaaniif nan kenna.
6 Alagoota isa tajaajiluuf,
maqaa WAAQAYYOO jaallachuuf,
isa waaqeffachuuf
WAAQAYYOTTI cichan
kanneen Sanbata utuu hin xureessin eeganii fi
kakuu koos cimsanii eegan hunda,
7 ani gara tulluu koo qulqulluutti isaan nan fida;
mana kadhannaa koo keessattis gammachuu isaaniif nan kenna.
Aarsaan isaanii kan gubamuu fi qalmi,
iddoo aarsaa koo irratti fudhatama ni argata;
manni koo saboota hundaaf,
mana sagadaa jedhamee waamamaatii."
8 WAAQAYYO Gooftaan,
inni Israa'eloota bittinnaa'an walitti qabu sun akkana jedha:
"Ani warra duraan walitti qabaman biratti,
warra kaanis gara isaaniitti walitti nan qaba."

### *Waaqni Dura Bu'oota Israa'el himate*

9 Bineensonni dirree hundi,
bineensonni bosonaa hundis kottaatii itti gaggabaa nyaadhaa!
10 Eegdonni Israa'el jaamota,
isaan hundi beekumsa hin qaban;
hundi isaanii saroota duudaa dha;
dutuus hin danda'an;
isaan ciisanii abjootu;
rafuus ni jaallatu.
11 Isaan saroota albaadheyyii dha;
nyaataniis hin quufan.
Isaan tiksoota hubannaa hin qabnee dha;
hundi isaanii daandii ofii isaanii irra deemu;
tokkoon tokkoon isaanii faayidaa ofii isaanii barbaadu.
12 Tokkoon tokkoon isaanii akkana jedhu;
"Kottaa daadhii wayinii dhugnaa!

Kottaa dhugaatii cimaa dhugnee quufnaa!
Guyyaan borii akkuma har’aa ta’a;
yookaan caaluu iyyuu ni danda’a.”

## 57

1 Namni qajeelaan ni du’a;
kan waan kana yaadatti qabatu tokko iyyuu hin jiru;
warri Waaqaaf of kennan ni fudhatamu;
akka qajeeltonni
waan hamaa jalaa baraaramuuf fudhataman
namni tokko iyyuu hin hubatu.
2 Namni qajeelummaadhaan jiraatu,
gara nagaa seena;
isaan siree isaanii irra boqotu.

3 “Isin garuu yaa ilmaan falfaltittii,
isin sanyiin ejjituutii fi sagaagaltuu as kottaa!
4 Isin eenyutti qoostu?
Eenyutti afaan banattu?
Eenyuttis arraba baaftu?
Isin ilmaan finciltootaa,
sanyii sobdootaa mitii?
5 Isin mukkeen qilxuu gidduutti,
mukkeen dagaagan hunda jalatti hawwii hamaadhaan gubattan;
sululoota keessatti,
holqa kattaa keessattis ijoollee keessan qaltan.
6 Dhagaawwan cululuqoon sulula keessaa qooda kee ti;
dhugumaan carraan kee isaanuma.
Ati dhibaayyuu isaaniif dhangalaafte;
aarsaa midhaanii isaaniif dhi’eessiteerta.
Ani wantoota kanneen cal’isee nan ilaalaa?
7 Ati siree kee tulluu guddaa fi ol dheeraa irra dhaabbatteerta;
aarsaa kee dhi’eeffachuufis achi ol baate.
8 Ati cufaa keetii fi michichila cufaa keetii duubaan,
yaadannoo kee fannifatteerta.
Ana dhiiftee siree kee saaqqatte;
yaabdees bal’iftee banattee keessa seente;
ati warra siree isaanii jaallatte
wajjin walii galte sana qullaa isaanii ilaalte.
9 Ati zayitii ejersaa fudhattee gara Moolek dhaqxe;
shittoo kee illee ni baay’ifatte.
Ergamoota kee biyya fagootti ergite;
sii’oolittis gad ergite!
10 Dheerina karaa keetiitiin dadhabdee turte;
ati garuu, ‘Wanni kun faayidaa hin qabu’ hin jenne.
Jabina haaromfame argatte;
kanaafuu ati hin dadhabne.

11 “Ati akka na sobduuf
akka na hin yaadanneef,

yookaan akka waan kana garaatti hin qabanneef,
eenyuun sodaattee akkas naate?
Ati sababii ani yeroo dheeraa cal'iseef,
na sodaachuu dhiifte mitii?
12 Ani qajeelummaa keetii fi hojii kee ifatti nan baasa;
isaan garuu si hin fayyadan.
13 Yeroo ati gargaarsaaf iyyitutti,
mee waaqonni tolfamoon ati walitti qabatte sun si haa baasan!
Bubbeen hunda isaanii fudhatee bada;
hafuurri baafatan iyyuu afuufee isaan balleessa.
Namni da'annoo isaa ana godhatu garuu
biyyattii ni dhaala;
tulluu koo qulqulluu sana illee ni dhuunfata."

### *Abdii Warra Gad Qabamaniif Kenname*

14 Akkanas ni jedhama:
"Tolchaa; tolchaa; daandii qopheessaa!
Karaa saba kootii irraa gufuuwwan bubuqqisaa."
15 Inni guddaanii fi ol ol jedhe,
kan bara baraan jiraatuu fi
kan maqaan isaa qulqulluu jedhamu sun akkana jedha:
"Ani iddoo ol ka'aa fi iddoo qulqulluu irra nan jiraadha;
hafuura warra gad qabamanii bayyanachiisuuf,
garaa warra gad of qabanii jajjabeessuuf garraamii fi
kan hafuuraan gad qabame wajjinis nan jiraadha.
16 Ani bara baraan namatti hin falmu;
yookaan yeroo hunda hin dheekkamu;
yoo akkas ta'e hafuurri namaa,
hafuurri namni ani uume baafatu ni citaatii.
17 Ani dharraa isaa kan cubbuun guutame sanattan dheekkame;
isa adabees aariidhaan fuula koo isa duraa nan dhokfadhe;
inni garuu karuma fedhii isaatiin itti fufe.
18 Ani karaa isaa argeera; garuu isa nan fayyisa;
ani isa nan qajeelcha; deebisees nan jajjabeessa;
19 arraba boossuuwwan Israa'el keessa jiraatanii irrattis
galata nan uuma.
Warra fagoo jiraataniif nagaan, warra dhi'oo jiraataniifis nagaan haa ta'u.
Anis isaan nan fayyisa" jedha WAAQAYYO.
20 Namoonni hamoon garuu akkuma galaana olii gadi daddarbatamu,
kan boqochuu hin dandeenye,
kan dambaliin isaa laaqii fi dhoqqee tufuu ti.
21 "Namoota hamoof nagaan hin jiru" jedha Waaqni koo.

# 58

### *Sooma Waaqni itti Gammadu*

1 "Guddisii iyyi; hin qusatin.
Akkuma malakataa sagalee kee ol fudhadhu.
Saba kootti fincila isaanii,
mana Yaaqoobitti immoo cubbuu isaanii labsi.
2 Isaan guyyuma guyyaan na barbaaduutii;
isaan akkuma saba waan qajeelaa hojjetee

ajajawwan Waaqa isaa hin dhiisin tokkootti
waan karaa koo beekuu barbaadan fakkaatu.
Isaan murtii qajeelaa na kadhatu;
akka Waaqni isaanitti dhi'aatus waan hawwan fakkaatu.
3 Isaanis, 'Yoo ati waan kana hin argine,
nu maaliif soomne?
Yoo ati waan kana hin qalbeeffanne
nu maaliif gad of qabne?' jedhu.

"Ta'us isin guyyaa sooma keessanii waan feetan gootan;
hojjettoota keessan hundas ni hacuuccan.
4 Soomni keessan wal loluu fi wal qoccoluudhaan,
aboottee hamminaatiin wal tumuudhaan raawwata.
Soomni isin har'a soomaa jirtan kun,
akka sagaleen keessan gubbaatti dhaga'amu hin godhu.
5 Soomni ani filadhe sooma akkanaatii?
Namni tokko guyyuma tokko qofaaf gad of qabaa?
Wanni kun akkuma dhallaadduu mataa gad qabachuu fi
wayyaa gaddaatii fi daaraa irra ciisuu qofaafii?
Wanni isin sooma jettaniin
guyyaan fuula WAAQAYYOO duratti fudhatama qabu kanaa?

6 "Soomni ani itti gammadu,
kan foncaa jal'inaa furu,
kan funyoo waanjoo hiiku,
kan cunqurfamtoota bilisa baasuu fi
waanjoo hunda caccabsu mitii?
7 Akka ati warra beela'aniif nyaata kee qoodduu fi
akka hiyyeeyyii mana hin qabne mana keetti simattu,
akka ati yeroo nama daare argitutti
daara isa baaftuu fi
akka nama foonii fi dhiiga kee ta'etti
dugda hin galle mitii?
8 Yoos ifni kee akka biiftuu ganamaa ni ba'a;
fayyinni kees dafee ni dhufa;
qajeelummaan kee fuula kee dura deema;
ulfinni WAAQAYYOO immoo duubaan si eega.
9 Yeroo sana ati ni waammatta; WAAQAYYOs deebii siif kenna;
ati gargaarsa barbaacha iyyatta; innis, 'Ani asan jira' siin jedha.

"Ati yoo waanjoo cunqursaa, haasa'a hamminaatii fi
quba namatti qabuu of irraa fageessite,
10 ati yoo warra beela'aniif nyaata kennite,
warra rakkatanis rakkinaa baafte,
ifni kee dukkana keessa ni ibsa;
halkan kees akka guyyaa saafaa ta'a.
11 WAAQAYYO yeroo hunda si geggeessa;
inni lafa aduudhaan gubate keessatti iyyuu
fedhii kee siif guuta;
lafee kees ni jabeessa.
Ati akka lafa biqiltuu bishaan quufee,

akka burqaa hin gognees ni taata.
12 Uummanni kee diigamaa durii deebisee ni ijaara;
atis hundee dhaloota baay'ee ol kaasta;
atis, Suphaa Dallaawwan Jijjiganii,
Haaromsaa Daandiiwwan Jireenyaa jedhamtee waamamta.

13 "Ati yoo miilla kee Sanbata cabsuu irraa eeggattee
guyyaa koo qulqulluu waan jaallattu gochuu dhiifte,
ati yoo Sanbataan, 'Gammachuu'
guyyaa qulqullaa'aa Waaqayyootiin immoo, 'Kabajamaa' jette,
yoo daandii ofii keetii deemtuu fi yoo waan feete gochuu
yookaan haasaa faayidaa hin qabne haasa'uu baattee
Sanbata ulfeessite,
14 yeroo sana Waaqayyotti ni gammadda;
anis akka ati lafa ol dheeraa irra guluftu,
dhaala abbaa kee Yaaqoob nyaattee akka quuftus sin taasisa."
Afaan Waaqayyoo dubbateeraatii.

# 59

*Cubbuu, Balleessaa Himachuu fi Furama*

1 Dhugumaan harki Waaqayyoo fayyisuuf gabaabaa miti;
yookaan gurri isaa dhaga'uu hin didne.
2 Yakki keessan garuu Waaqa keessaniin
gargar isin baaseera;
akka inni isin hin dhageenyeef,
cubbuun keessan fuula isaa isin duraa dhokseera.
3 Harki keessan dhiigaan,
qubni keessan immoo yakkaan faalameeraatii.
Afaan keessan soba dubbata;
arrabni keessan immoo waan hamaa guunguma.
4 Namni murtii qajeelaa barbaadu hin jiru;
kan himata isaa amanamummaadhaan dhi'eeffatu
tokko iyyuu hin jiru.
Isaan waan faayidaa hin qabne amanatan; soba dubbatan;
gowwoomsaa ulfaa'anii hammina dhalan.
5 Isaan hanqaaquu buutii yaasan; man'ee sariitii fo'an.
Namni hanqaaquu isaanii nyaatu kam iyyuu ni du'a;
yommuu tokkoon isaa cabutti
buutiitu keessaa ba'a.
6 Fo'aan isaanii uffata hin ta'u;
waan tolchaniinis dhagna isaanii haguuggachuu hin danda'an.
Hojiin isaanii hojii hamminaa ti;
harka isaanii keessas hojii fincilaatu jira.
7 Miilli isaanii gara cubbuutti fiiga;
isaan dhiiga qulqulluu dhangalaasuuf ariifatan.
Yaadni isaanii jal'aa dha;
diiguu fi barbadeessuun mallattoo karaa isaanii ti.
8 Isaan karaa nagaa hin beekan;
murtiin qajeelaan karaa isaanii irra hin jiru.
Daandii isaanii jal'isaniiru;
namni achi irra deemu tokko iyyuu nagaa hin beeku.

9 Kanaafuu murtiin qajeelaan nurraa fagaateera;
qajeelummaanis nu bira hin ga'u.
Nu ifa barbaanna; garuu hundinuu dukkana;
ifa guyyaa barbaanna; garuu dimimmisa keessa deemna.
10 Nu akkuma jaamaa dallaa qaqqabachaa deemna;
akkuma warra ija hin qabnee harkaan karaa keenya barbaaddanna.
Akka nama halkaniin deemuu guyyaa saafaadhaan guggufanne;
namoota jajjaboo gidduutti akka warra du'anii taaneerra.
11 Nu hundi akka amaaketaa gururiina;
akka gugees gaddaan aadna.
Murtii qajeelaa barbaanna; garuu hin arganne;
fayyina barbaanna; inni garuu nurraa fagaateera.

12 Yakki keenya fuula kee duratti baay'ateeraatii;
cubbuun keenyas dhugaa nutti ba'a.
Yakki keenya nu wajjin jiraata;
nus balleessaa keenya ni beekna;
13 nu fincillee WAAQAYYOON sobne;
Waaqa keenya duukaa bu'uu irraa garagalleerra;
goolii fi fincila kakaafneerra;
soba garaan keenya yaades dubbanneerra.
14 Kanaafuu murtii qajeelaan duubatti deebifameera;
qajeelummaanis fagoo dhaabata;
dhugaan karaatti gufate;
tollis ol seenuu hin danda'u.
15 Dhugaan eessumattuu hin argamu;
namni cubbuu irraa fagaatus waan hamaaf saaxilama.

WAAQAYYO akka murtii qajeelaan hin jirre arge;
kunis isa gaddisiise.
16 Inni akka namni tokko iyyuu hin jirre arge;
kan gara isaatti kadhannaa dhi'eessu waan dhabameefis
ni dinqisiifate.
Kanaafuu irreen isaa fayyina isaa fidde;
qajeelummaan ofii isaas isa utube.
17 Qajeelummaa akka gaachana qomaatti kaa'atee
gonfoo fayyinaas mataatti gombifate;
wayyaa ittiin haaloo ba'u uffatee
akka nama waaroo uffatuuttis hinaaffaa ofitti marate.
18 Kanaafuu inni akkuma hojii isaaniitti,
diinota isaatiif dheekkamsa,
amajaajota isaaniitiif immoo adabbii malu ni kenna;
biyyoota bishaan gidduutiifis hojii harka isaanii kennaaf.
19 Namoonni lixa biiftuu maqaa WAAQAYYOO sodaatu;
warri ba'a biiftuutti argaman immoo ulfina isaa kabaju.
Inni akkuma lolaa,
kan bubbeen WAAQAYYOO oofuutti ni dhufaatii.

20 "Furaan gara Xiyoon, gara warra mana Yaaqoob keessaa
qalbii jijjiirratanii ni dhufa"
jedha WAAQAYYO.

21 “Gama kootiin kakuun koo kan ani isaan wajjin qabu kana” jedha WAAQAYYO.
“Hafuurri koo kan sirra jiru, dubbiin koo kan ani afaan kee keessa kaa’e sun afaan
keetii yookaan afaan ijoollee keetiitii yookaan afaan ijoollee ijoollee isaaniitii har’aa
jalqabee bara baraan hin badu” jedha WAAQAYYO.

# 60

*Ulfina Xiyoon*

1 “Ifni kee dhufeeraatii ka’ii ibsi;
ulfinni WAAQAYYOO siif ba’eera.
2 Kunoo, dukkanni lafa,
dukkanni hamaan immoo uummattoota haguuga;
WAAQAYYO garuu siif ka’eera;
ulfinni isaas sirraa mul’ata.
3 Saboonni gara ifa keetii,
mootonni immoo gara ifa kee 2 isa bariitti ni dhufu.

4 “Ija kee ol fudhadhuutii naannoo kee ilaali;
hundinuu wal ga’anii gara kee ni dhufu;
ilmaan kee fagoodhaa,
intallan kees qomatti baatamanii gara kee ni dhufu.
5 Ergasii ni ilaalta; ni calaqqiftas;
lapheen kee ni dha’ata; gammachuudhaanis ni guutama;
qabeenyi galaanotaa hundinuu gara kee dhufu;
badhaadhummaan sabootaas kan kee ta’a.
6 Gaalli baay’een, ilmaan gaalaa kan Midiyaanii fi
kan Eefaa biyya kee ni guutu.
Namoonni hundi warqee fi ixaana fidanii,
galata WAAQAYYOO labsaa
biyya Shebaatii ni dhufu.
7 Bushaayeen Qeedaar hundinuu gara keetti walitti qabamu;
korbeeyyiin hoolaa Nabaayot si tajaajilu;
isaan iddoo aarsaa koo irratti aarsaawwan fudhatama qaban ni ta’u;
anis mana ulfina kootii nan kabaja.

8 “Warri akkuma gugeewwanii manneen isaaniitti barrisan,
kanneen akka duumessaa gugatan kunneen eenyu fa’i?
9 Dhugumaan biyyoonni bishaan gidduu na abdatu;
sababii inni ulfina sitti uffiseef,
maqaa WAAQAYYO Waaqa keetii,
Qulqullicha Israa’eliitiif jedhanii
dooniiwwan Tarshiish dursanii,
meetii fi warqee isaanii wajjin
ilmaan kee fagoodhaa ni fidu.

10 “Namoonni ormaa dallaa kee ni ijaaru;
mootonni isaaniis si tajaajilu;
Ani aariidhaan si dha’u illee,
gara laafina koo jaalalaan sitti nan argisiisa.
11 Akka namoonni badhaadhina sabootaa gara keetti fidaniif,
akka mootonni isaaniis hiriiraan gara keetti seenaniif,

karrawwan kee yeroo hunda banamaa ta’u;
isaan halkanii guyyaa gonkumaa hin cufaman;
12 Sabni yookaan mootummaan si hin tajaajille
ni barbadaa’uutii;
guutummaan guutuuttis ni balleeffamu.

13 “Ulfinni Libaanoon,
gaattiraan, qararoo fi hadheessi,
lafa iddoo qulqulluu koo miidhagsuuf gara kee ni dhufu;
anis iddoo miilli koo dhaabatu nan kabaja.
14 Ilmaan warra si cunqursanii siif sagadaa gara kee dhufu;
warri si tuffatan hundinuus miilla keetti kufu;
isaanis Magaalaa WAAQAYYOO
Xiyoon kan Qulqullicha Israa’el jedhanii si waamu.

15 “Yoo ati jibbamtee gatamtee namni tokko iyyuu
si keessaan darbuu lagate iyyuu,
ani boontuu bara baraatii fi
gammachuu dhaloota hundaa sin taasisa.
16 Ati aannan sabootaa ni dhugda;
harma moototaas ni hoota.
Yommus ani WAAQAYYO Jabaan Yaaqoob,
Fayyisaa kee fi Furaa kee akkan ta’e ni beekta.
17 Ani qooda naasii warqee,
qooda sibiilaa immoo, meetii siif nan fida.
Qooda mukaa naasii,
qooda dhagaa immoo, sibiila siif nan fida.
Nagaa mootii kee,
qajeelummaa immoo, bulchaa kee nan godha.
18 Si’achi biyya kee keessatti gooliin,
daarii kee keessatti immoo diigamni yookaan badiisni
hin dhaga’amu;
ati garuu dallaa kee Fayyina,
karrawwan kee immoo Galata jettee waamta.
19 Si’achi aduun guyyaadhaan,
ifni ji’aas halkaniin ifa kee hin ta’u;
WAAQAYYO ifa kee bara baraa ta’aatii;
Waaqni kee ulfina kee ni ta’a.
20 Aduun kee deebitee hin dhiitu;
ji’i kee hin badu;
WAAQAYYO ifa kee bara baraa ni ta’a;
barri gadda kees ni raawwatama.
21 Yoos uummanni kee hundi qajeelaa ni ta’a;
bara baraanis lafa ni dhaala.
Isaan biqiltuu ani dhaabbadhee dha;
hojii harka koo, kan ani ittiin ulfina koo mul’isuuf
jedhee hojjedhee dha.
22 Maatiin muraasni kuma,
gareen xinnaan immoo saba guddaa ta’a.
Ani WAAQAYYOO dha;
waan kana yeroo isaatti dafee nan hojjedha.”

# 61

*Bara Tola WAAQAYYOO*

1 Sababii WAAQAYYO akka ani
hiyyeeyyiitti oduu gaarii lallabuuf na dibeef,
Hafuurri WAAQAYYO Gooftaa narra jira.
Inni akka ani garaa cabe fayyisuuf,
akka ani booji'amtootaaf bilisummaa,
warra hidhamaniif immoo hiikamuu lallabuuf na ergeera;
2 akka ani bara tola WAAQAYYOOTII fi
guyyaa haaloo ba'uu Waaqa keenyaa labsuuf,
akka ani warra boo'an hunda jajjabeessuuf,
3 akka ani warra Xiyoon keessatti gaddaniif arjoomee,
qooda daaraa miidhagina,
qooda boo'ichaa, zayitii gammachuu,
qooda abdii kutachuu immoo,
wayyaa galataa kennuuf na erge.
Isaanis qilxuu qajeelummaa, biqiltuu WAAQAYYO,
kan inni ittiin kabajamu jedhamanii waamaman.

4 Isaan waan dur diigame deebisanii ijaaru;
iddoowwan bara dheeraan dura onanii turanis
akka duraatti deebisu;
magaalaawwan diigaman,
kanneen dhaloota hedduun dura onanii turan ni haaromsu.
5 Alagoonni bushaayee keessan ni tiksu;
ormoonnis lafa qotiisaa fi
iddoo dhaabaa wayinii keessanii keessa ni hojjetu.
6 Isin luboota WAAQAYYOO jedhamtanii ni waamamtu;
tajaajiltoota Waaqa keenyaa jedhamtaniis ni moggaafamtu.
Isin qabeenya sabootaa ni nyaattu;
badhaadhummaa isaaniitiin illee ni boontu.

7 Qooda qaanii keessanii hiree dachaa ni argattu;
qooda salphinaa isin dhaala keessanitti ni gammaddu;
kanaafuu isin biyya keessan keessatti hiree dachaa ni dhaaltu;
gammachuun bara baraas kan keessan.

8 "Ani WAAQAYYO murtii qajeelaa nan jaalladhaatii;
saamichaa fi yakka nan jibba.
Ani amanamummaa kootiin isaan nan badhaasa;
kakuu bara baraas isaan wajjin nan gala.
9 Sanyiin isaanii saboota gidduutti,
ijoolleen isaanii immoo uummata gidduutti ni beekamu.
Warri isaan argan hundi,
akka isaan saba WAAQAYYO eebbise ta'an ni beeku."

10 Ani WAAQAYYO itti guddaa nan gammada;
lubbuun koos akka malee Waaqa kootti gammaddi.
Inni akkuma misirrichi akka lubaatti mataa isaa miidhagfatu,
misirrittiin immoo faayaan of bareechitu sana,
wayyaa fayyinaa natti uffiseera

uffata qajeelummaa narra buuseeraatii.
11 Akkuma lafti biqiltuu biqilchitee
iddoon biqiltuu immoo akka sanyiin guddattu godhu sana
Waaqayyo Gooftaan akka qajeelummaa fi
galanni fuula saboota hundaa duratti biqilan ni godha.

# 62

## *Maqaa Xiyoon Haaraa*

1 Hamma qajeelummaan ishee akka barii barraaqaa,
fayyinni ishee akka guca boba'uu ifutti,
ani waa'ee Xiyoon hin cal'isu;
waa'ee Yerusaalemis afaan hin qabadhu.
2 Saboonni qajeelummaa kee,
mootonni hundinuus ulfina kee ni argu;
ati maqaa haaraa,
kan afaan Waaqayyoo siif baasuun ni waamamta.
3 Ati harka Waaqayyoo keessatti gonfoo ulfinaa,
harka Waaqa keetii keessattis marata mootii ni taata.
4 Ati si'achi, Gatamtuu hin jedhamtu,
yookaan biyyi kee Ontuu hin jedhamtu.
Ati garuu, "Ani isheetti nan gammada" jedhamta;
biyyi kees "kan heerumte" jedhamti;
Waaqayyo sitti gammadaatii,
biyyi kee ni heerumti.
5 Akkuma dargaggeessi durba fuudhu,
ilmaan kee si fuudhu;
akkuma misirrichi misirrittiitti gammadu,
Waaqni kees sitti gammada.

6 Yaa Yerusaalem, ani dallaawwan kee irratti
eegdota ramadeera;
isaan gonkumaa halkanii fi guyyaa hin cal'isan.
Isin warri Waaqayyoon waammattan,
ofii keessaniif boqonnaa hin kenninaa;
7 hamma inni Yerusaalemin cimsee ijaaree
akka isheen lafa irratti leellifamtuu taatu godhutti
boqonnaa isaaf hin kenninaa.

8 Waaqayyo akkana jedhee
harka isaa mirgaatii fi irree isaa jabaa sanaan kakateera;
"Ani lammata midhaan kee
nyaata godhee diinota keetiif hin kennu;
namoonni ormaas lammata daadhii wayinii haaraa
kan ati itti dadhabde hin dhugan;
9 garuu warri galfatan midhaan sana ni nyaatu;
Waaqayyoonis ni galateeffatu;
warri ija wayinii guurratanis
oobdii iddoo qulqulluu koo keessatti ni dhugu."

10 Keessa darbaa; karrawwan keessaan darbaa!

Uummataaf karaa qopheessaa.
Tolchaa; karaa guddaa tolchaa!
Dhagaawwan bubuqqisaa.
Sabootaafis faajjii ol qabaa.

11 WAAQAYYO akkana jedhee
hamma moggaa lafaatti labseera;
“Intala Xiyooniin akkana jedhaa:
‘Kunoo Fayyisaan kee ni dhufa!
Badhaasni isaa kunoo isa harka jira;
beenyaan inni namaaf baasus isuma wajjin jira.’ ”
12 Isaanis Saba Qulqulluu,
Furamtoota WAAQAYYOO jedhamanii ni waamamu;
atis barbaadamtuu,
Magaalaa Si’achi Hin Onne ni jedhamta.

# 63

*Guyyaa WAAQAYYO Haaloo Ba’u*

1 Kan uffata isaa halluu diimaa cuuphee
Edoom keessaa, Bozraadhaa dhufaa jiru kun eenyu?
Kan ulfina uffatee guddina jabina isaatiin
fuula duratti deemaa jiru kun eenyu?

“Inni anuma, kan qajeelummaan dubbatu,
kan oolchuufis humna qabu anaa dha.”

2 Uffanni kee maaliif akkuma uffata
nama boolla wayinii itti cuunfan keessatti
wayinii dhidhiitu tokkoo diimata?

3 “Ani kophaa koo boolla itti wayinii cuunfan keessatti
wayinii nan dhidhiite;
saboota keessaa namni tokko iyyuu na wajjin hin turre.
Ani aarii kootiin isaan irra dhaabadhee
dheekkamsa kootiin gad isaan dhidhiite;
dhiigni isaanii wayyaa kootti faffaca’e;
wayyaa koo hundas ni faale.
4 Guyyaan haaloo ba’uu garaa koo keessa jiraatii;
waggaan ani itti nama furus dhufeera.
5 Anis mil’adhee nama na gargaaru tokko iyyuu nan dhabe;
gargaarsa tokko iyyuu dhabnaan nan dinqisiifadhe;
kanaafuu irreen koo fayyina naa fide;
dheekkamsi koos na utube.
6 Ani aarii kootiin saboota irra nan dhidhiite;
dheekkamsa kootiinis isaan nan macheesse;
dhiiga isaanii lafa irra nan lolaase.”

*Galateeffannaa fi Kadhannaa*

7 Akkuma waan inni nuuf hojjete hundaatti
ani waa’ee jaalala WAAQAYYOO // kan hin geeddaramne sanaa
hojii inni ittiin galateeffamuu qabu nan odeessa;

wantoota gaggaarii inni akkuma gara laafinaa fi
arjummaa isaa hedduu sanaatti mana Israa'eliif hojjete baay'ee
ani dhugumaan nan odeessa.
8 Innis, "Isaan dhugumaan saba koo ti;
ijoollee hin sobnee dha" jedhe;
kanaafuu inni Fayyisaa isaanii ta'e.
9 Dhiphina isaanii hunda keessatti, innis ni dhiphate;
ergamaan Waaqayyoo kan fuula isaa dura dhaabatu isaan baraare.
Jaalalaa fi araara isaatiin isaan fure;
bara durii hunda keessa,
inni ol fuudhee isaan baate.
10 Isaan garuu fincilanii
Hafuura isaa Qulqulluu gaddisiisan.
Kanaafuu inni deebi'ee diina isaanii ta'e;
inni mataan isaas isaan lole.

11 Kana irratti sabni isaa bara durii,
bara Museetii fi saba isaa yaadatee akkana jedhe:
Inni tiksee bushaayee isaa wajjin
galaana keessaa isaan baase sun eessa jira?
Inni Hafuura isaa Qulqulluu gidduu isaanii buuse,
12 kan akka irreen isaa ulfina qabeessi jabaan sun,
harka mirgaa kan Musee wajjin jiraatuuf erge,
kan maqaa bara baraa ofii isaatiif godhachuudhaaf
fuula isaanii duratti bishaan gargar qoode,
13 kan tuujuba keessaan isaan qajeelche sun eessa jira?
Isaan akkuma farda biyya bal'aa keessa gulufu tokkoo hin gufanne;
14 akkuma loon dirreetti bobba'aniitti,
Hafuurri WAAQAYYOO boqonnaa isaaniif kenne.
Akki ati itti maqaa ulfina qabu ofii keetiif godhachuudhaaf jettee
saba kee qajeelchite kanaa dha.

15 Ati samii irraa, teessoo kee qulqulluu fi
ulfina qabeessa sana irraa gad ilaali.
Hinaaffaan keetii fi jabinni kee eessa jiru?
Jaalallii fi gara laafinni kee nurraa ittifamaniiru.
16 Yoo Abrahaam nu beekuu baatee,
yookaan Israa'el nu yaadachuu baate iyyuu,
ati dhugumaan abbaa keenya;
Yaa WAAQAYYO, ati abbaa keenya;
Furaan keenya durumaa jalqabee maqaa kee ti.
17 Yaa WAAQAYYO, ati maaliif akka nu karaa kee irraa badnuu fi
akka garaan keenya jabaatee nu si sodaachuu didnu nu goota?
Sababii garboota kee,
gosoota handhuuraa kee ta'aniitiif jedhii deebi'i.
18 Sabni kee yeroo yartuuf iddoo kee qulqulluu dhaalee ture;
amma garuu diinonni keenya iddoo kee qulqulluu
gad dhidhiitaa jiru.
19 Nu durumaa jalqabnee kanuma kee ti;
ati garuu isaan hin bulchine;
isaanis maqaa keetiin hin waamamne.

## 64

1 Akka tulluuwwan fuula kee duratti raafamaniif,
maaloo ati utuu samiiwwan tarsaaftee gad buutee!
2 Akkuma ibiddi hanxaxii gubee, bishaan danfisu sana,
akka maqaan kee diinota kee biratti beekamuuf
gad bu’iitii akka saboonni fuula kee
duratti hollatan godhi!
3 Ati yeroo waan sodaachisaa nu hin yaadin hojjettetti gad buute;
tulluuwwanis fuula kee duratti hollatan.
4 Si malee Waaqa warra isa abdataniif dhaabatu,
bara duriitii jalqabee namni tokko iyyuu hin dhageenye;
yookaan gurri tokko iyyuu hin qalbeeffanne;
iji tokko iyyuu hin argine.
5 Ati warra gammachuudhaan waan tolaa hojjetan
kanneen karaa kee yaadatan gargaaruuf ni dhufta.
Garuu yommuu nu ittuma fufnee
cubbuu hojjennetti ati ni dheekkamte.
Yoos nu akkamitti fayyuu dandeenya ree?
6 Hundi keenya akka nama qulqullina hin qabnee taaneerra;
hojiin qajeelummaa keenyaa hundis akka huccuu xuraa’ummaa ti;
hundi keenya akkuma baalaa coollagne;
cubbuun keenyas akkuma bubbee haxaa’ee nu fudhate.
7 Namni maqaa kee waammatu tokko iyyuu hin jiru;
yookaan namni si qabachuuf carraaqu hin jiru;
ati fuula kee nu dhokfattee
sababii cubbuu keenyaatiifis nu fixxeertaatii.

8 Ta’us yaa WAAQAYYO, ati Abbaa keenya.
Nu suphee dha; ati immoo dhooftuu suphee ti;
hundi keenya hojii harka keetii ti.
9 Yaa WAAQAYYO, ati akka malee hin dheekkamin;
cubbuu keenyas bara baraan hin yaadatin.
Maaloo si kadhannaa, fuula kee nuuf deebisi;
nu hundinuu saba keetii.
10 Magaalaawwan kee qulqulloonni onaniiru;
Xiyoon iyyuu onteerti; Yerusaalemis duwwaa hafteerti.
11 Manni qulqullummaa keenya qulqullichii fi ulfina qabeessi,
iddoon abbootiin keenya itti si galateeffatan sun ibiddaan gubameera;
wanni nu itti gammannu hundis barbadeeffameera.
12 Yaa WAAQAYYO, ati wantoota kanneen hunda
cal’uma jettee ilaaltaa?
Ati cal’istee akka malee nu adabdaa?

## 65

*Murtii fi Fayyina*

1 “Ani warra na hin iyyaafatinitti nan mul’adhe;
warri na hin barbaadinis na argatan.
Ani saba maqaa koo hin waammatiniin,
‘Ani asan jira; ani asan jira’ nan jedhe.
2 Ani guyyaa guutuu gara uummata didaa ta’eetti,
kan karaa gaarii hin ta’in irra deemu,

kan yaada ofii isaa duukaa bu’uuf
harka koo nan diriirfadhe;
3 Isaan saba iddoo biqiltuu keessatti aarsaa dhi’eessuudhaan,
iddoo aarsaa kan xuubii irrattis ixaana aarsuudhaan,
utuu gargar hin kutin, utuma ani arguu
dheekkamsaaf na kakaasanii dha;
4 isaan warra awwaala gidduu tataa’anii
lafa dhoksaa bulanii dha;
warra foon booyyee nyaatanii
okkoteen isaanii bishaan foon xuraa’aa baatuu dha;
5 isaan warra, ‘Achi fagaadhu; natti hin dhi’aatin;
ani si caalaa qulqulluudhaatii!’ jedhanii dha.
Sabni akkasii funyaan koo keessatti akkuma aaraa,
akkuma ibidda guyyaa guutuu boba’uu ti.

6 “Kunoo, wanni kun akkana jedhamee fuula koo duratti barreeffameera:
ani hin cal’isu; garuu gatii hojii isaanii guutuu nan kennaaf;
dhugumaanis qomatti isaan nan baachisa.
7 Kunis cubbuu keessanii fi cubbuu abbootii keessanii ti”
jedha Waaqayyo.
“Isaan tulluuwwan irratti aarsaa dhi’eessanii,
gaarran irratti waan na arrabsaniif,
ani hojii isaanii kan duriitiif,
kaffaltii guutuu isaaniifin kenna.”
8 Waaqayyo akkana jedha:
“Akkuma yeroo hurbuu wayinii keessa cuunfaan jirutti,
namoonni, ‘Amma iyyuu eebbatu keessa jiraatii,
hin balleessinaa’ jedhan sana,
anis tajaajiltoota kootiif akkasuma nan godha;
isaan hundas hin balleessu.
9 Anis Yaaqoob keessaa sanyii tokko,
Yihuudaa keessaa immoo warra tulluuwwan koo dhaalan nan biqilcha;
sabni koo filatamaan tulluuwwan sana dhaala;
tajaajiltoonni koos achi ni jiraatu.
10 Saba koo kan na barbaaduuf
Shaaroon lafa bushaayeen itti bobba’an,
Sululli Aakoor immoo lafa loon boqotan ni ta’an.

11 “Garuu isin warra Waaqayyoon dhiiftanii
tulluu koo qulqulluu dagattan,
kanneen waaqa ‘Milkii’ jedhamuuf
maaddii qopheessitanii,
waaqa, ‘Hiree’ jedhamuuf immoo dhibaayyuu kubbaayyaatti guuttan,
12 ani irbaata goraadee isinan godha;
isin hundis qalamuuf gad jettu; ani isin waameen ture;
isin garuu na jalaa hin owwaanne;
ani dubbadheen ture; isin garuu na hin dhaggeeffanne.
Isin fuuluma koo duratti waan hamaa hojjettanii
waan na hin gammachiifne filattan.”
13 Kanaafuu Waaqayyo Gooftaan akkana jedha:
“Garboonni koo ni nyaatu;

isin garuu ni beeloftu;
garboonni koo ni dhugu;
isin garuu ni dheebottu;
garboonni koo ni gammadu;
isin garuu ni qaanoftu.
14 Garboonni koo
gammachuu garaa irraa maddeen ni faarfatu;
isin garuu,
waan garaan keessan miidhameef ni boossu;
waan hafuurri keessan gaddeef ni wawwaattu.
15 Filatamtoonni koo maqaa isin dabarfattan sana
abaarsaaf itti fayyadamu;
WAAQAYYO Gooftaan isin fixa;
garboota isaatiif garuu maqaa biraa ni kenna.
16 Namni lafa irratti eebbifamu kam iyyuu,
Waaqa dhugaatiin eebbifama;
namni lafa irratti kakatus,
Waaqa dhugaatiin kakata.
Rakkinni durii ni irraanfatama;
ija koo duraas ni dhokataatii.

### *Samiiwwan Haaraa fi Lafa Haaraa*

17 “Kunoo ani, samiiwwan haaraa fi
lafa haaraa nan uuma.
Wanni durii hin yaadatamu;
yookaan qalbii namaatti hin dhufu.
18 Isin garuu waan ani uumutti,
bara baraan gammadaa ililchaa;
ani Yerusaalemin gammachuuf,
saba ishee immoo ililleef nan uumaatii.
19 Ani Yerusaalemitti nan gammada;
saba koottis nan gammada;
si’achi sagaleen boo’ichaatii fi
iyyaa ishee keessatti hin dhaga’amu.

20 “Si’achi, daa’imni guyyaa muraasa qofa jiraatu,
yookaan jaarsi umuriin isaa hanqatu tokko iyyuu
ishee keessatti hin argamu;
namni waggaa dhibbatti du’u,
akka waan dargaggummaan du’eetti yaadama;
namni waggaa dhibba hanqate tokko,
akka waan abaarameetti hedama.
21 Namoonni mana ni ijaarratu; achi keessas ni jiraatu;
wayinii dhaabbatu; ija isaas ni nyaatu.
22 Si’achi isaan mana ijaaranii namoonni biraa keessa hin jiraatan;
yookaan isaan biqiltuu dhaabanii namoonni biraa hin nyaatan.
Umuriin saba koo,
akkuma umurii mukaa ni ta’a;
warri ani filadhe,
hojii harka isaaniitiin bara dheeraa ni gammadu.
23 Isaan akkasumaan hin dadhaban
yookaan ijoollee balaan eeggattu hin dhalchan;

isaan sanyii isaanii wajjin
saba WAAQAYYO eebbisu ni ta'u.
24 Ani utuu isaan na hin waammatin nan deebisaaf;
utuu isaan dubbatanii hin fixinis nan dhaga'a.
25 Yeeyyii fi xobbaallaan hoolaa walii wajjin nyaatu;
leenci akka sangaa okaa nyaata;
biyyoon garuu soora bofaa ta'a.
Isaan tulluu koo qulqulluu hunda irratti homaa hin miidhan
yookaan homaa hin balleessan"
jedha WAAQAYYO.

# 66

*Murtii fi Abdii*

1 WAAQAYYO akkana jedha:
"Samiin teessoo koo ti;
laftis ejjeta miilla kootii ti.
Manni isin naaf ijaartan meerre?
Lafti boqonnaa kootii eessa?
2 Waan kana hunda harki koo hin hojjennee?
Kanaafuu wantoonni kunneen hundi kanuma koo ti"
jedha WAAQAYYO.

"Ani garuu nama gad of qabuu fi
kan garaa isaa keessatti gaabbee
dubbii kootiin hollatuu nan ilaala.
3 Garuu namni korma qalu kam iyyuu
akkuma nama nama ajjeesu tokkoo ti;
namni xobbaallaa hoolaa qalu kam iyyuu
akkuma nama morma saree cabsu tokkoo ti;
namni aarsaa midhaanii dhi'eessu kam iyyuu
akkuma nama dhiiga booyyee dhi'eessu tokkoo ti;
namni ixaana yaadannoo aarsu kam iyyuus
akkuma nama waaqa tolfamaa waaqeffatu tokkoo ti.
Isaan karaa ofii isaanii filataniiru;
lubbuun isaaniis xuraa'ummaa isaaniitti gammaddi.
4 Kanaafuu ani gidiraa isaaniif nan fila;
waan isaan akka malee sodaatanis isaanitti nan fida.
Yeroo ani waametti namni tokko iyyuu na jalaa hin owwaanne;
yeroo ani dubbadhetti namni tokko iyyuu
hin dhaggeeffanneetii.
Isaan fuula koo duratti waan hamaa hojjetanii
waan na hin gammachiifne illee filatan."

5 Warri dubbii isaatiin hollattan
dubbii WAAQAYYOO dhaga'aa:
"Obboleeyyan keessan warri sababii maqaa kootiif isin jibbanii
isin ari'an sun akkana jedhan;
'Akka nu gammachuu keessan arginuuf,
mee WAAQAYYO haa ulfaatu!'
Ta'us isaan ni qaana'u.
6 Huursaa magaalaa keessaa sana dhaga'aa;

waca mana qulqullummaa keessaa dhaga'aa!
Wanni kun sagalee WAAQAYYOO kan yeroo inni
gatii diinota isaa hundaaf malu isaaniif kennuu ti.

7 "Isheen utuu hin ciniinsifatin,
ni deessi;
utuu miixuun da'umsaa ishee hin qabatin,
ilma deessi.
8 Eenyutu takkumaa waan akkasii dhaga'e?
Waan takkumaa akkasii eenyutu arge?
Biyyi tokko guyyuma tokkotti dhalachuu dandeessii?
Yookaan sabni yeruma tokkotti biqiluu danda'aa?
Xiyoon garuu akkuma ciniinsifatteen,
ijoollee ishee deesse.
9 Ani yeroo da'umsaatiin nama ga'ee
da'uu nan dhowwaa?"
jedha WAAQAYYO.
"Ani da'umsaan ga'ee
gadameessa nan cufaa?"
jedha Waaqni kee.
10 "Isin warri ishee jaallattan hundi,
Yerusaalem wajjin gammadaa; isheefis ililchaa;
isin warri isheef boossan hundi,
guddisaatii ishee wajjin gammadaa.
11 Isin harma ishee kan nama
jajjabeessu sana hootanii ni quuftuutii;
ulfina ishee guddaa sana irraas
gammachuudhaan ni dhugdu."
12 WAAQAYYO akkana jedhaatii:
"Kunoo ani nagaa akkuma bishaan lagaa,
badhaadhummaa sabootaas akkuma laga yaa'uu
isheef nan dhangalaasa;
isin ni hootu; harka ishee irratti ni baatamtu;
gudeeda ishee irra illee ni taphattu.
13 Akkuma haati daa'ima ishee urursitu sana,
anis isinan urursa;
isinis Yerusaalem keessatti ni ururfamtu."

14 Isin yommuu waan kana argitanitti garaan keessan ni gammada;
lafeen keessan akka margaa ni haaromfama;
harki WAAQAYYOO akka garboota isaa wajjin jirus ni beekama;
dheekkamsi isaa garuu amajaajota isaa irratti ni mul'ifama.
15 Kunoo, WAAQAYYO ibiddaan ni dhufa;
gaariiwwan isaas akkuma bubbee hamaa ti;
inni aarii isaa dha'ichaan,
ifannaa isaa immoo arraba ibiddaatiin gad buusa.
16 WAAQAYYO ibiddaa fi goraadee isaatiin
namoota hunda irratti murtii raawwataatii;
namoonni WAAQAYYOON ajjeefaman ni baay'atu.
17 "Warri iddoo biqiltuu seenuuf jedhanii, isa warra foon booyyee, foon hantu-
utaatii fi wantoota jibbisiisoo biraa nyaatan gidduutti argamu duukaa bu'uudhaan
addaan of baasanii of qulqulleessan wajjin barbadeeffamu" jedha WAAQAYYO.

18 “Ani waanan hojii fi yaada isaanii beekuuf, sabootaa fi afaanota hunda walitti
qabuuf jedhee nan dhufa; isaanis dhufanii ulfina koo ni argu.
19 “Ani gidduu isaanii mallattoo nan kaa’a; hambaawwan keessaa namoota
tokko tokko gara sabootaa jechuunis gara Tarshiish, Phuulii fi gara Luud warra
xiyyaan lolan, gara Tuubaalii fi Yaawaan akkasumas gara biyyoota bishaan gidduu
fagoo jiran kanneen waa’ee koo hin dhaga’inii yookaan ulfina koo hin arginiitti
nan erga. Isaanis saboota gidduutti ulfina koo ni labsu. 20 Isaanis saboota
hunda keessaa obboloota keessan hunda akkuma aarsaa WAAQAYYOOF dhi’eeffamu
tokkootti fardeeniin, gaariiwwaniin, harrootaan, gaangolii fi gaalawwaniin gara
tulluu koo qulqulluutti, gara Yerusaalem ni fidu” jedha WAAQAYYO. “Isaanis akkuma
Israa’eloonni mi’a akka seeraatti qulqulluu ta’een aarsaa midhaan isaanii gara mana
qulqullummaa WAAQAYYOOTTI fidan sanatti jara fidu. 21 Anis isaan keessaa namoota
tokko tokko akka isaan lubootaa fi Lewwota ta’aniif nan filadha” jedha WAAQAYYO.
22 “Akkuma samiin haaraanii fi lafti haaraan ani uumu itti fufanii fuula koo
dura jiraatan sana maqaa fi sanyiin keessan itti fufanii jiraatu” jedha WAAQAYYO.
23 “Ayyaana Baatii tokkoo hamma Ayyaana Baatii kaaniitti, Sanbata tokkoo hamma
Sanbata kaaniittis sanyiin namaa hundi dhufee fuula koo duratti ni sagada” jedha
WAAQAYYO. 24 “Isaanis gad ba’anii reeffa warra natti fincilanii ni ilaalu; raammoon
isaanii hin du’u; ibiddi isaaniis hin dhaamu; isaanis sanyii namaa hundaaf jibbisiisoo
ta’u.”

# Raajii
# Ermiyaas

1 Kun dubbii Ermiyaas ilma Hilqiyaa kan luboota biyya Beniyaam keessa magaalaa
Anaatoot jiraatan keessaa tokko ta'e sanaa ti. 2 Dubbiin WAAQAYYOO bara Yosiyaas
ilma Aamoon mooticha Yihuudaa keessa waggaa kudha sadaffaatti gara Ermiyaas
dhufe; 3 akkasumas bara Yehooyaaqiim ilma Yosiyaas mooticha Yihuudaatii jalqabee
hamma dhuma bara Zedeqiyaa ilma Yosiyaas mooticha Yihuudaa waggaa kudha
tokkoffaatti waggaa sana keessaas hamma ji'a shanaffaatti, yeroo sabni Yerusaalem
booji'ametti dubbiin kun gara isaa dhufaa ture.

*Waamamuu Ermiyaas*

4 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe:

5 “Ani utuu gadameessa keessatti si hin uumin dura si beeke;
utuu ati hin dhalatin dura addaan si baafadhe;
akka ati sabootaaf raajii taatuufis si muude.”

6 Anis, “Wayyoo, yaa WAAQAYYO Gooftaa ani akkamitti akkan dubbadhu hin beeku;
ani mucaa xinnoo dha” nan jedhe.

7 WAAQAYYO garuu akkana naan jedhe; “Ati, ‘Ani mucaa xinnoo dha’ hin jedhin.
Ati gara nama ani itti si ergu hundaa dhaqxee waan ani si ajaju hunda dubbachuu
qabda. 8 Ati jara hin sodaatin; ani si baasuuf si wajjinan jiraatii” jedha WAAQAYYO.

9 Ergasiis WAAQAYYO harka isaa hiixatee afaan koo tuqee akkana naan jedhe;
“Kunoo, ani dubbii koo afaan kee keessa kaa'eera. 10 Ilaa, ani akka ati buqqiftuu
fi diigduuf, akka barbadeessituu fi garagalchituuf, akka ijaartuu fi dhaabduuf har'a
sabootaa fi mootummoota irratti si muudeera.”

11 Dubbiin WAAQAYYOO gara koo dhufee, “Ermiyaas, ati maal argaa jirta?” naan
jedhe.

Anis deebisee, “Damee muka lawuzii arguuttin jira” jedhe.

12 WAAQAYYO immoo, “Ati sirriitti argite; ani akka dubbiin koo fiixaan ba'uuf
kutadhee ka'eeraatii” naan jedhe.

13 Dubbiin WAAQAYYOO amma illee gara koo dhufee, “Ati maal argaa jirta?” naan
jedhe.

Anis deebisee, “Xuwwee danfaa jiru kan kaaba irraa as garagalee jiru tokko nan
arga” jedhe.

14 WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Gara kaabaatii balaan warra biyyattii keessa
jiraatan hundatti ni bu'a. 15 Kunoo saboota mootummoota kaabaa hunda walitti nan
waama” jedha WAAQAYYO.

“Mootonni isaanii dhufanii karrawwan Yerusaalem dura
teessoowwan isaanii ni dhaabbatu;
isaan dallaawwan naannoo ishee
hundaa fi magaalaawwan Yihuudaa hunda marsu.

16 Sababii isaan na dhiisanii
waaqota biraaf ixaana aarsuudhaan
waan harki isaanii hojjete waaqeffachuudhaan hammina hojjetaniif
ani saba kootti murtii nan labsa.

17 “Ati garuu mudhii kee hidhadhuu ka'iitii waan ani si ajaju hunda isaanitti himi.
Ati jara hin sodaatin; ati isaan sodaannaan ani fuula isaanii duratti sodaa sittin
buusaa. 18 Akka ati guutuu biyyattiitiin jechuunis mootota Yihuudaatiin, qondaaltota

isheetiin, lubootaa fi uummata biyyattiitiin mormituuf ani har’a magaalaa dallaa
jabaan marfamte, utubaa sibiilaatii fi dallaa naasii si taasiseera. 19 Isaan si lolu;
garuu si hin mo’atan; ani si baasuuf si wajjin jiraatii” jedha WAAQAYYO.

# 2

### *Israa’el Waaqa Gante*

1 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 2 “Dhaqiitii gurra
Yerusaalemiitti akkana jedhii labsi:

“Waaqayyo akkana jedha:
“ ‘Ani amanamummaa kee kan yeroo dargaggummaa,
akka ati akkuma misirrittiitti na jaallattee
lafa gammoojjii keessa,
lafa midhaan itti hin facaafamin keessa na duukaa buute
nan yaadadha.
3 Israa’el kan WAAQAYYOOF qulqulloofte sun,
mataa midhaan isaa turte;
warri ishee nyaatan hundis
akka nama yakka hojjeteetti ilaalamu ture;
badiisnis isaanitti dhufe’ ” jedha WAAQAYYO.

4 Yaa mana Yaaqoob,
isin maatiiwwan mana Israa’el hundinuus
dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa.
5 WAAQAYYO akkana jedha:
“Abbootiin keessan kan akkas narraa fagaatan
balleessaa maalii narratti arganiitii?
Isaan waaqota tolfamoo faayidaa hin qabne faana bu’anii
isaanumtuu warra faayidaa hin qabne ta’an.
6 Isaanis, ‘WAAQAYYO inni Gibxii nu baasee,
gammoojjii homtuu keessa hin jirre keessaan,
lafa gammoojjii fi dhooqaa keessaan
lafa hongee fi dukkanaa,
biyya namni tokko iyyuu keessa hin dabarree fi
keessa hin jiraanne keessaan dabarsee
nu fide sun eessa jira?’ jedhanii hin gaafanne.
7 Ani akka isin ija ishee nyaattanii midhaan isheetti gammaddaniif
gara lafa gabbataatti isin fideera.
Isin garuu dhuftanii biyya koo xureessitan;
handhuuraa koos akka jibbamu gootan.
8 Luboonnis, ‘WAAQAYYO eessa jira?’
jedhanii hin gaafanne.
Warri seera wajjin oolanis na hin beekne;
bulchitoonni natti fincilan;
raajonnis waaqota faayidaa hin qabne duukaa bu’anii
maqaa Ba’aaliin raajii dubbatan.

9 “Kanaafuu ani amma iyyuu isin wajjin falmii qaba”
jedha WAAQAYYO.
“Ijoollee ijoollee keessanii wajjinis falmii nan qabaadha.

10 Mee gara qarqara Kitiimitti ce’aatii ilaalaa;
gara Qeedaarittis nama ergaatii qalbiidhaan qoradhaa;
yoo duraan wanni akkasii ta’ee jiraates ilaalaa.
11 Yoo isaan waaqota ta’uu baatan iyyuu
sabni tokko takkumaa waaqota isaa geeddaree beekaa?
Uummanni koo garuu
ulfina isaa waaqota tolfamoo
faayidaa hin qabneen geeddareera.
12 Yaa samiiwwan, waan kana dinqifadhaa;
naasuu guddaadhaanis holladhaa”
jedha WAAQAYYO.
13 “Uummanni koo cubbuu lama hojjete:
Isaan ana burqaa bishaan jireenyaa dhiisanii
boolla bishaanii ofii isaanii,
boolla bishaanii baqaqaa
bishaan qabachuu hin dandeenye qotataniiru.
14 Israa’el garbaa? Inni garbicha manatti dhalatee?
Yoos inni maaliif booji’ame ree?
15 Leenconni aadaniiru;
isattis gururi’aniiru.
Isaan biyya isaa onsaniiru;
magaalaawwan isaas gubamanii duwwaa hafaniiru.
16 Akkasumas namoonni Memfiisii fi
Tahiphaanhees mataa kee buruqsaniiru.
17 Ati yeroo inni karaa irra si qajeelchetti,
WAAQAYYOON Waaqa kee dhiisuudhaan
waan kana ofitti fiddeerta mitii?
18 Egaa ati maaliif Shihoorii bishaan dhuguuf jettee
biyya Gibxi dhaqxa?
Maaliifis bishaan laga Efraaxiis
dhuguuf jettee Asoor dhaqxa?
19 Hamminni kee si adaba;
duubatti deebi’uun kees si ifata.
Ati WAAQAYYOON Waaqa kee dhiiftee
na sodaachuu diduun kee
hammam hamaa fi hadhaa’aa akka sitti ta’e ilaalii hubadhu”
jedha Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u.

20 “Ani bara dheeraan dura waanjoo kee sirraa cabseera;
hidhaa kees sirraa kukkuteera.
Ati garuu, ‘Ani si hin tajaajilu’ jette!
Ati garuu akkuma sagaagaltuu tokkootti
tulluuwwan dhedheeroo hunda irraa fi
mukkeen lalisoo hunda jala ciifte.
21 Ani garuu muka wayinii filatamaa,
kan sanyiin isaa guutumaan guutuutti qulqulluu ta’e godhee
si dhaabbadheen ture.
Yoos ati akkamitti wayinii diidaa
taatee natti geeddaramte ree?
22 Ati yoo daaraadhaan dhiqattee
saamunaa hedduutti fayyadamte iyyuu,
xuriin yakka keetii amma illee fuula koo dura jira”

jedha WAAQAYYO Gooftaan.
23 “Ati akkamitti, ‘Ani hin xuroofne;
Ba’aal duukaas hin buune’ jechuu dandeessa?
Waan sulula keessatti ta’aa turte yaadadhu;
waan hojjechaa turtes qalbeeffadhu.
Ati gaala dhalaa asii fi
achi fiigduu dha;
24 harree diidaa kan gammoojjii barattee
fedhii kormaatiin qilleensa suufattu tokko,
maaltu fedhii ishee irraa ishee deebisuu danda’a?
Kormi ishee barbaadu kam iyyuu ishee argachuuf hin rakkatu;
inni yeroo gaanaatti ishee argata.
25 Miilla kee kophee malee deemuu irraa,
laagaa kee immoo dheebuu irraa eeggadhu.
Ati garuu, ‘Kun waan abdii hin qabnee dha!
Ani waaqota ormaa nan jaalladha;
isaan faanas nan bu’a’ jette.

26 “Akkuma hattuun yeroo qabamtu salphifamtu sana
manni Israa’el ni salphifama;
isaan, mootonni isaaniitii fi qondaaltonni isaanii,
luboonni isaaniitii fi raajonni isaanii ni salphifamu.
27 Isaan mukaan, ‘Ati abbaa koo ti,’
dhagaadhaan immoo, ‘Situ na dhale’ jedhu.
Isaan dugda isaanii malee
fuula isaanii natti hin deebifanneetii;
ta’us isaan yeroo rakkatanitti,
‘Kottuu nu baasi!’ jedhu.
28 Waaqonni ati ofiif tolfatte sun eessa jiru?
Isaan yoo si baasuu danda’an
mee yeroo ati rakkina keessa jirtutti haa dhufan!
Yaa Yihuudaa, ati akkuma magaalaa hedduu qabdu sana
waaqota hedduu qabdaatii.

29 “Isin maaliif na himattu?
Isin hundinuu natti finciltaniirtu”
jedha WAAQAYYO.
30 “Ani akkasumaanan ijoollee keessan adabe;
isaan sirreeffama fudhachuu didan.
Goraadeen keessan akkuma
leenca beela’e tokkootti raajota keessan fixxe.
31 “Isin dhaloonni ammaa dubbii WAAQAYYOO qalbeeffadhaa:
“Ani Israa’eliif gammoojjii
yookaan biyya dukkana hamaan turee?
Sabni koo maaliif, ‘Nu asii fi achi jooruu ni dandeenya;
si’achi gara kee hin dhufnu’ jedha?
32 Durbi tokko faaya ishee,
misirrittiin tokko immoo mi’a ittiin heerumtu ni irraanfattii?
Sabni koo garuu,
guyyaa hamma hin qabne na irraanfateera.
33 Ati jaalala adamsuutti akkam ogeettii dha!

Dubartoota akka malee hamoo ta’an iyyuu amala kee barsiifteerta.
34 Ati utuu isaan cabsanii seenanuu isaan qabuu baattu iyyuu,
dhiigni hiyyeeyyii balleessaa hin qabnee
wayyaa kee irratti ni argama.
Utuma wanni kun hundi ta’ee jiruu
35 ati, ‘Ani balleessaa hin qabu;
inni natti hin dheekkamu’ jetta.
Ani garuu sababii ati, ‘Ani cubbuu
hin hojjenne’ jettuuf, sitti nan mura.
36 Ati maaliif karaa kee geeddaruudhaan,
asii fi achi deemuu baay’ifta?
Akkuma Asoor si qaanessite sana
Gibxis si qaanessiti.
37 Ati mataa kee qabattee,
iddoo sanaa baata;
Waaqayyo warra ati itti irkatte tuffateeraatii;
ati isaaniin hin milkooftu.

# 3

1 “Namni tokko yoo niitii isaa hiikee
isheenis isa dhiiftee nama biraatti heerumte,
inni lammata isheetti deebi’aa?
Biyyattiinis guutumaan guutuutti hin xurooftuu?
Ati garuu akka sagaagaltuutti
sanyoowwan hedduu wajjin jiraatteerta;
ta’us amma gara kootti deebi’i?”
jedha Waaqayyo.
2 “Mee ol mil’adhuutii gaara duwwaa ilaali.
Iddoon ati itti hin sagaagalin tokko iyyuu jiraa?
Ati akkuma godaantuu gammoojjii keessaa tokkootti
warra si jaallatan eeggachuuf qarqara karaa teesse;
sagaagaltummaa fi hammina keetiin
biyyattii xureessiteerta.
3 Kanaafuu tiifuun ni ittifame;
birraa keessa illee bokkaan hin roobne.
Ati garuu nyaara sagaagaltuu qabda;
qaana’uus ni didde.
4 Ati amma iyyuu akkana jettee na hin waamnee?
‘Abbaa koo, ijoollummaa kootii jalqabdee michuu koo,
5 ati yeroo hunda ni aartaa?
Dheekkamsi kee baruma baraan itti fufaa?’
Ati akkasitti dubbatta;
garuu waan hamaa dandeessu hunda ni hojjetta.”

### *Israa’el Amanamummaa Dhabde*

6 Waaqayyo bara Yosiyaas Mootichaa keessa akkana naan jedhe; “Ati waan Israa’el
isheen amanamummaa hin qabne sun hojjette argitee? Isheen dhaqxee tulluu ol
dheeraa hunda irrattii fi muka lalisaa hunda jalatti sagaagalte. 7 Ani waan isheen erga
wantoota kanneen hunda hojjettee booddee gara kootti deebitu se’een ture; isheen
garuu hin deebine. Obboleettiin ishee Yihuudaan hin amanamne sunis waan kana

argite. 8 Ani sababii ejjummaa ishee hundaatiif waraqaa ragaa hiikkaa kenneefiin
Israa'el amanamummaa hin qabne sana of irraa ari'e; ta'u illee ani akka obboleettiin
ishee Yihuudaan amanamummaa hin qabne sun hin sodaanne nan arge; isheenis
dhaqxe ejjite. 9 Israa'el sababii sagaagalummaa ofii akka waan salphaa tokkootti
ilaalteef dhagaa fi muka wajjin ejjuudhaan biyya xureessite. 10 Isheen waan kana
hunda hojjettu iyyuu obboleettiin ishee Yihuudaan hin amanamne sun fakkeessuuf
malee garaa guutuudhaan gara kootti hin deebine" jedha Waaqayyo.

11 Waaqayyo akkana naan jedhe; "Yihuudaa hin amanamne irra Israa'el amantii
hin qabnetu qajeeltuu dha. 12 Dhaqiitii ergaa kana kaabatti labsi:

" 'Yaa Israa'el amantii dhabeettii, deebi'i' jedha Waaqayyo;
'Ani si'achi ija aariitiin si hin ilaalu;
ani araara qabeessaatii' jedha Waaqayyo.
'Ani bara baraan hin dheekkamu.
13 Ati akka Waaqayyo Waaqa keetti fincilte,
akka mukkeen lalisoo hunda jalatti
jaalala kee waaqota ormaatiif kennitee naa ajajamuu didde,
balleessaa kee sana qofa himadhu' "
jedha Waaqayyo.

14 "Yaa saba amantii hin qabne, deebi'aa" jedha Waaqayyo; "ani dhirsa keessaniitii.
Ani magaalaa tokko irraa nama tokko, balbala tokko irraa nama lama filadhee
Xiyoonitti isin nan fida. 15 Ergasii ani tiksoota akka garaa kootii ta'an, kanneen
beekumsaa fi hubannaadhaan isin qajeelchan isinii nan kenna. 16 Bara sana keessa,
yeroo baay'inni keessan biyyattii keessatti akka malee guddatutti," jedha Waaqayyo,
"Namoonni si'achi, 'Taabota kakuu Waaqayyoo' hin jedhan." Wanni kun gonkumaa
sammuu isaanii keessa hin seenu, yookaan hin yaadatamu; kan isa barbaadu hin
jiru, yookaan kan biraa hin tolfamu. 17 Isaan yeroo sanatti Yerusaalemiin Teessoo
Waaqayyoo jedhanii waamu; saboonni hundinuus maqaa Waaqayyoo ulfeessuuf
Yerusaalemitti walitti ni qabamu. Isaan si'achi mata jabina hammina garaa isaanii
duukaa hin bu'an. 18 Bara sana keessa manni Yihuudaa mana Israa'elitti ni makama;
isaanis tokkummaadhaan biyya kaabaatii gara biyya ani akka dhaalaatti abbootii
keessaniif kenne sanaa ni dhufu.

19 "Ani mataan koo akkana nan jedhe;

" 'Ani silaa hamman akkuma ilmaan kootti
si fudhadhee biyya namatti toltu,
dhaala akka malee miidhagu kan saba kamii iyyuu
siif nan kenna ture.'
Ani waan ati, 'Abbaa ko' jettee na waamtuuf,
waan ati na duukaa bu'uu hin dhiifne se'ee ture.
20 Yaa mana Israa'el,
ati garuu akkuma niitii dhirsa isheetiif hin amanamne tokkoo,
anaaf hin amanamne turte"
jedha Waaqayyo.

21 Isaan karaa isaanii jal'isanii
Waaqayyo Waaqa isaanii waan irraanfataniif
gaara duwwaa irratti iyyi,
boo'ichii fi waammannaan saba Israa'el ni dhaga'ama.

22 "Yaa saba amantii hin qabne deebi'aa;
ani duubatti deebi'uu keessan nan fayyisaatii."

“Kunoo, nu gara kee ni dhufna;
Ati WAAQAYYO Waaqa keenyaatii.
23 Dhugumaan wacni gaarranii fi
tulluuwwan irraa gowwoomsaa dha;
dhugumaan fayyinni Israaʼel
harka WAAQAYYO Waaqa keenyaa jira.
24 Ijoollummaa keenyaa jalqabnee waaqonni nama qaanessan,
buʼaa dadhabbii abbootii keenyaa
jechuunis bushaayee fi loon isaanii,
ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii fixaniiru.
25 Nu qaanii keenyaan haa ciifnuu;
salphinni keenyas nu haa haguugu.
Nus abbootiin keenyas WAAQAYYO Waaqa keenyatti
cubbuu hojjenneerra;
nu ijoollummaa keenyaa jalqabnee
hamma ammaatti
WAAQAYYO Waaqa keenyaaf hin ajajamne.”

# 4

1 “Yaa Israaʼel, ati yoo deebite,
gara kootti deebiʼi” jedha WAAQAYYO.
“Yoo ati waaqota kee jibbisiisoo sana
fuula koo duraa balleessitee
siʼachi karaa irraa jalʼachuu baatte,
2 yoo ati, ‘Dhugaa WAAQAYYO jiraataa’ jettee
dhugaadhaan, murtii qajeelaa fi qajeelummaadhaan kakatte,
saboonni isaan ni eebbifamu;
isumaanis ni kabajamu.”
3 WAAQAYYO namoota Yihuudaatii fi namoota Yerusaalemiin akkana jedha:
“Bajjii keessan qotadhaa;
qoraattii keessas hin facaasinaa.
4 Yaa namoota Yihuudaatii fi uummata Yerusaalem
WAAQAYYOOF dhagna of qabaa;
qola qalbii keessaniis dhagna qabadhaa;
yoo kanaa achii sababii hammina isin hojjetaniitiif
dheekkamsi koo kaʼee akka ibiddaa ni bobaʼa;
namni isa dhaamsus hin jiru.

### *Balaa Kaaba irraa Dhufu*

5 “Yihuudaa keessatti beeksisaa;
Yerusaalem keessattis akkana jedhaa labsaa:
‘Biyyattii guutuu keessatti malakata afuufaa!
Sagalee ol fudhadhaatii akkana jedhaa:
walitti qabamaa!
Kottaa gara magaalaawwan dallaa jabaa qabaniitti baqannaa!’
6 Xiyoon dhaquuf faajjii ol qabaa?
Dafaa baqadhaa malee duubatti hin harkifatinaa!
Ani karaa kaabaatiin balaa,
badiisa suukaneessaas nan fidaatii.”

7 Leenci bosona isaatii baʼeera;

barbadeessaan sabootaa karaa qabateera.
Inni biyya kee onsuuf jedhee
iddoo isaatii ka’eera.
Magaalaawwan kee onanii
jiraattota malee ni hafu.
8 Kanaafuu isin uffata gaddaa uffadhaatii
boo’aa wawwaadhaa;
dheekkamsi WAAQAYYOO sodaachisaan sun
nurraa hin deebineetii.

9 WAAQAYYO akkana jedha:
“Guyyaa sana mootiinii fi qondaaltonni onnee dhabu;
luboonni akka malee na’u;
raajonnis ni raafamu.”
10 Anis akkana nan jedhe; “Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati utuu goraadeen kokkee
keenya irra jiruu, ‘Isin nagaa qabaattu’ jechuudhaan saba kanaa fi Yerusaalemin
guutumaan guutuutti gowwoomsiteerta?”
11 Yeroo sanatti saba kanaa fi Yerusaalemitti akkana jedhamee ni himama;
“Bubbeen waa gubu tokko iddoowwan ol ka’oo qullaa kanneen gammoojjii keessaa
irraa gara saba kootiitti ni bubbisa; garuu afarsuuf yookaan qulqulleessuuf miti;
12 bubbeen waan sanaaf akka malee cimaa ta’e tokko na biraa ni dhufa. Anis murtii
koo isaanitti nan labsa.”
13 Kunoo, inni akka duumessaatti,
gaariin isaas akka bubbeetti ni dhufa;
fardeen isaa risaa caalaa saffisu.
Wayyoo nu baduu keenya!
14 Yaa Yerusaalem, ati akka fayyituuf
qalbii kee keessaa hammina dhiqadhu.
Hamma yoomiitti yaadni hamaan si keessa jiraata?
15 Sagaleen tokko Daan irraa lallaba;
tulluuwwan Efreem irraas badiisa labsa.
16 “Waan kana sabootatti himaa;
Yerusaalemittis akkana jedhaa lallabaa:
‘Loltoonni marsanii biyya qabatan tokko
lafa fagoodhaa ni dhufu;
isaanis magaalaawwan Yihuudaatti ni iyyu.
17 Sababii isheen natti fincilteef,
isaan akkuma nama lafa qotiisaa eegu tokkootti
ishee ni marsu,’ ”
jedha WAAQAYYO.
18 “Amalli keetii fi hojiin kee
waan kana sitti fidaniiru.
Adabbiin kee kanaa dha.
Innis hammam hadhaa’a!
Onnees hammam waraana!”

19 Mar’umaan ko, mar’umaan ko!
Ani dhukkubbiidhaan nan wixxirfadha.
Onneen koo na keessaa waca;
onneen koo na keessatti dha’ata;
ani cal’isuu hin danda’u.
Ani sagalee malakataa dhaga’eeraatii;
waca waraanaas dhaga’eera.

20 Badiisni badiisa irraan dhufa;
biyyattiin guutumaan guutuutti ni onti.
Dunkaanni koo akkuma tasaa,
golgaan koos yeroo gabaabaa keessatti bade.
21 Ani hamma yoomiittin mallattoo waraanaa ilaala?
Hamma yoomiittis sagalee malakataa dhaga'a?

22 "Uummanni koo gowwaa dha;
anas hin beekan.
Isaan ijoollee qalbii hin qabnee dha;
hubannaas hin qaban.
Isaan waan hamaa hojjechuutti ogeeyyii dha;
waan gaarii hojjechuu garuu hin beekan."

23 Ani lafa nan ilaale;
isheenis bifa hin qabdu; duwwaas turte;
samiiwwanis nan ilaale;
ifni isaanii dhaamee ture.
24 Ani tulluuwwan nan ilaale;
isaan socho'aa turan;
gaarran hundinuus raafamaa turan.
25 Ani nan ilaale; namni tokko iyyuu hin turre;
simbirroonni samii hundis barrisanii badanii turan.
26 Ani nan ilaale; kunoo biyyi midhaan baaftu ontee turte;
magaalaawwan ishee hundis,
fuula WAAQAYYOO duratti
dheekkamsa isaa sodaachisaa sanaan diigaman.
27 WAAQAYYO akkana jedha:
"Yoo ani guutumaan guutuutti ishee balleessuu baadhe iyyuu
biyyattiin guutumaan guutuutti ni barbadoofti.
28 Kanaafuu lafti ni boossi;
samiiwwan oliis ni dukkanaa'u;
ani dubbadheeraatii hin gaabbu;
murteesseera; dugda duubas hin deebi'u."

29 Sababii iyya abbootii fardeeniitii fi futtaaftota xiyyaatiin,
tokkoon tokkoon magaalaa ni baqata.
Garri tokko bosona gobbuu seena;
kaan immoo kattaatti ol ba'a;
magaalaawwan hundi duwwaa hafaniiru;
namni tokko iyyuu isaan keessa hin jiraatu.

30 Yaa ontuu nana, ati maal gochaa jirta?
Ati maaliif wayyaa bildiimaa uffattee
faaya warqee kaa'atte?
Maaliif ija kee kuulatte?
Ati akkasumaan of miidhagsita.
Warri jaallatan si tuffatu;
lubbuu kees balleessuu barbaadu.

31 Ani iyya akka iyya dubartii ciniinsifattu tokkoo,
miixuu akka miixuu dubartii mucaa

hangafa deessuu tokko nan dhaga'e;
ani iyya Intala Xiyoon kan yeroo hafuurri ishee citutti argantee
harka ishee facaasuudhaan,
"Wayyoo! Ani bade;
lubbuun koo harka warra nama ajjeesuutti
dabarfamtee kennamteerti" jettuu nan dhaga'e.

# 5

## *Namni Tolaan Tokko Iyyuu Hin jiru*

1 "Daandiiwwan Yerusaalem irra olii gadi deddeebi'aa;
asii fi achi ilaalaatii qalbeeffadhaa;
oobdiiwwan ishee sakatta'aa.
Isin yoo nama waan qajeelaa hojjetu,
kan dhugaa barbaadu tokko illee argattan
ani magaalaa kanaaf dhiifama nan godha.
2 Isaan utuma 'Dhugaa WAAQAYYO jiraataa' jedhanuu
amma iyyuu sobaan kakatu."

3 Yaa WAAQAYYO, iji kee dhugaa hin barbaaduu?
Ati isaan dhoofte; garuu isaan hin dhukkubne;
ati isaan caccabsite; isaan garuu sirreeffamuu didan.
Isaan dhagaa caalaa mataa jabaatanii
qalbii jijjiirrachuu didan.
4 Anis akkana jedheen yaade;
"Jarri kunneen hiyyeeyyii dha; isaan gowwoota;
isaan karaa WAAQAYYOO,
seera Waaqa isaanii hin beekaniitii.
5 Kanaafuu ani hangafoota bira dhaqee isaanitti nan dubbadha;
dhugumaan isaan karaa WAAQAYYOO,
seera Waaqa isaanis ni beeku."
Isaanis akkasuma waanjoo of irraa caccabsanii
hidhaas of irraa kukkutaniiru.
6 Kanaafuu leenci bosonaa ba'ee isaan nyaata;
yeeyyiin gammoojjiis dhufee isaan balleessa;
qeerransi warra gad ba'an cicciirachuuf
magaalaawwan isaanii biratti riphee eeggata;
fincilli isaanii akka malee guddate;
duubatti deebi'uun isaaniis baay'ateeraatii.

7 "Ani akkamiinan dhiifama isiniif gochuu danda'a?
Ijoolleen kee na dhiisanii
waaqota waaqota hin ta'iniin kakataniiru.
Ani waan isaaniif barbaachisu hunda kenneefiin ture;
isaan garuu ni ejjan;
gara manneen sagaagaltuuwwaniitis gugatan.
8 Isaan korommii fardeenii kanneen akka gaariitti sooramanii dha;
tokkoon tokkoon isaanii niitii namaatti himimsu.
9 Ani waan kanaaf isaan hin adabuu ree?"
jedha WAAQAYYO.
"Ani mataan koo saba akka saba kanaa
haaloo hin ba'uu?

10 “Dallaa dhagaa isheetti ol ba’aatii balleessaa;
garuu guutumaan guutuutti miti.
Dameewwan ishee irraa ciraa;
sabni kun saba WAAQAYYOO miti.
11 Manni Israa’elii fi manni Yihuudaa,
guutumaan guutuutti anaaf hin amanamne”
jedha WAAQAYYO.

12 Isaan waa’ee WAAQAYYOO soba dubbatan;
akkanas jedhan; “Inni homaa hin godhu!
Miidhaan tokko iyyuu nutti hin dhufu;
goraadee yookaan beela hin arginu.
13 Raajonni bubbee malee homaa miti;
dubbiin isaan keessa hin jiru;
wanni isaan dubbatan isaanumatti haa deebi’u.”
14 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Sabni kun waan dubbii kana dubbateef,
ani dubbii koo afaan kee keessatti ibidda,
saba kana immoo qoraan ibiddi gubu nan godha.
15 Yaa mana Israa’el,” jedha WAAQAYYO;
“Ani saba duriitii fi jabaa,
saba ati afaan isaa hin beekne,
kan ati dubbii isaa illee hin hubanne tokko
biyya fagoodhaa sitti nan fida.
16 Man’een xiyya isaanii akkuma awwaala banamaa ti;
hundi isaaniis loltoota jajjaboo dha.
17 Isaan midhaan keetii fi buddeena kee ni nyaatu;
ilmaan keetii fi intallan kee ni ajjeesu;
bushaayee fi loon kee ni nyaatu;
wayinii keetii fi mukkeen harbuu keetii ni nyaatu.
Magaalaawwan dallaa jabaa qaban
kanneen ati amanatte sana goraadeedhaan barbadeessu.
18 “Ta’us ani bara sana keessa iyyuu guutumaan guutuutti isin hin balleessu” jedha
WAAQAYYO. 19 “Yommuu namoonni, ‘WAAQAYYO Waaqni keenya maaliif waan kana
hunda nutti fide?’ jedhanii gaafatanitti, ati, ‘Isin akkuma na dhiiftanii biyya keessan
keessatti waaqota ormaa tajaajiltan sana, ammas biyya kan mataa keessanii hin ta’in
keessatti ormoota ni tajaajiltu’ jettee isaanitti himta.
20 “Waan kana mana Yaaqoobitti himaa;
Yihuudaa keessattis labsaa:
21 Isin uummanni gowwaan hubannaa hin qabne,
warri utuu ija qabdanuu hin argine
kanneen utuu gurra qabdanuu
hin dhageenye waan kana dhaga’a.
22 Isin na hin sodaattanii?”
jedha WAAQAYYO.
“Fuula koo duratti hin hollattanii?
Ani galaanaaf cirracha daarii dallaa bara baraa kan inni
qaxxaamuruu hin dandeenye godhee tolcheera.
Dha’aan galaanaa yoo itti bu’e iyyuu isa diiguu hin danda’u;
galaanichi yoo huurse iyyuu, isa cabsee darbuu hin danda’u.
23 Sabni kun garuu mata jabeessaa fi fincilaa dha;

innis karaa irraa jal’atee badeera.
24 Isaan garaa isaaniitti akkana hin jedhan;
‘Kottaa WAAQAYYO Waaqa keenya isa bokkaa arfaasaatii fi
bokkaa birraa waqtiidhaan kennu,
isa torbanoota itti midhaan walitti qabannu
yeroo isaaniitti nuu kennu sana haa sodaannu.’
25 Balleessaan keessan waan kana isin irraa deebiseera;
cubbuun keessan waan gaarii isin dhabsiiseera.

26 “Saba koo gidduu namoota hamoo
akka warra nama qabuuf kiyyoo kaa’aniitti,
akkuma nama kiyyoon simbirroo qabuutti
riphanii eeggatantu jira.
27 Akkuma man’een simbiraan guutamu,
manneen isaanii sobaan guutamu;
isaanis sooreyyii fi jajjaboo ta’anii,
28 gabbatanii bareedaniiru;
hamminni isaanii dhuma hin qabu;
isaan murtii qajeelaa hin barbaadan.
Isaan dhimma ijoollee abbaa hin qabneetiif hin falman;
mirga hiyyeeyyiitiifis hin dhaabatan.
29 Ani waan kanaaf isaan hin adabuu?”
jedha WAAQAYYO.
“Ani saba akkasii
haaloo hin baafadhuu?

30 “Wanni suukaneessaan nama rifachiisu tokko
biyyattii keessatti ta’eera:
31 Raajonni raajii sobaa dubbatu;
luboonni humnuma isaaniitiin biyya bulchu;
sabni koos waan akkasii jaallata;
isin garuu dhuma irratti maal gochuuf jirtu?

# 6

*Yerusaalem Marfamte*

1 “Yaa saba Beniyaam baqadhaa ba’aa!
Yerusaalem keessaa baqadhaa!
Teqoo’aa keessatti malakata afuufaa!
Beet Hakerem irratti mallattoo ol qabaa!
Karaa kaabaatiin balaan,
badiisni suukaneessaan ni dhufaatii.
2 Ani Intala Xiyoon ishee bareedduu fi
qananiituu sana nan galaafadha.
3 Tiksoonni bushaayee isaanii fudhatanii isheetti dhufu;
dunkaana isaaniis isheetti naannessanii dhaabatu.
Tokkoon tokkoon isaaniis iddoo isaaniitti bobbaafatu.”

4 “Isheetti waraana kaasuuf qophaa’aa!
Ka’aa, guyyaa saafaadhaan ishee waraanaa!
Wayyoo, aduun dhi’aa jirti;
gaaddisni galgalaas dheerateera.

5 Kanaafuu ka’aa, halkaniin ishee dhoofnee
da’annoowwan ishee barbadeessinaa!”
6 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha;
“Mukkeen ishee ciraa;
naannoo Yerusaalemitti tuulaa biyyoo tolchaa;
magaalaan kun adabamuu qabdi;
isheen cunqursaadhaan guutamteertii.
7 Akkuma boolli bishaanii bishaan yaasu sana,
isheenis hammina ishee gad yaafti;
jeequmsii fi badiisni ishee keessatti ni dhaga’ama.
Dhukkubnii fi madaan ishee yeroo hunda fuula koo dura jiran.
8 Yaa Yerusaalem gorsa koo dhaga’i;
yoo kanaa achii ani sirraa garagalee,
akka namni tokko iyyuu keessa jiraachuu
hin dandeenyeef, biyya kee nan onsa.”
9 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Akkuma wayiniin sirriitti funaanamu sana,
isaanis hambaa Israa’el haa funaanan;
akkuma nama ija wayinii ciru tokkootti;
ammas harka kee gara dameewwaniitti hiixadhu.”

10 Ani eenyuttin dubbadhee akeekkachiisuu danda’a?
Eenyutu na dhaggeeffata?
Kunoo, gurri isaanii dhagna hin qabanne;
dhaga’uus hin danda’an.
Dubbiin WAAQAYYOO isaanitti hin tolu;
ittis hin gammadan.
11 Ani garuu dheekkamsa WAAQAYYOOTIIN guutameera;
obsuus hin danda’u.

“Ijoollee daandii irra jiran irratti,
dargaggoota walitti qabaman irratti,
dhirsaa fi niitii irratti,
warra dulloomanittis dheekkamsa nan dhangalaasa.
12 Yeroo ani harka koo
warra biyyattii keessa jiraatanitti ol fudhadhutti
manneen isaanii, lafa qotiisaa isaaniitii fi
niitota isaanii wajjin namoota kaaniif kennamu”
jedha WAAQAYYO.
13 “Xinnaadhaa hamma guddaatti
hundi isaanii iyyuu bu’aa argachuuf gaggabu;
raajonnii fi luboonnis akkasuma
hundi isaanii nama gowwoomsu.
14 Isaan madaa saba kootii
akkuma waan xinnaa tokkootti ilaalanii wal’aanu.
Utuu nagaan hin jiraatinis
‘Nagaa, nagaa’ jedhu.
15 Isaan amala isaanii jibbisiisaa sanatti ni qaana’uu?
Lakkii, isaan qaanii tokko iyyuu hin qaban;
qaana’uun maal akka ta’e iyyuu hin beekan.
Kanaafuu isaan warra kufan wajjin ni kufu;

yeroo ani isaan adabutti gad gatamu”
jedha WAAQAYYO.
16 WAAQAYYO akkana jedha:
“Karaa qaxxaamuraa irra dhaabadhaatii ilaalaa;
daandii durii iyyaafadhaa;
karaan gaariin garam akka jiru gaafadhaatii irra deemaa;
lubbuu keessaniif boqonnaa ni argattuutii.
Isin garuu, ‘Nu isa irra hin deemnu’ jettan.
17 Ani eegdota isinitti ramadeen
‘Sagalee malakataa dhaggeeffadhaa!’ jedhe,
isin garuu, ‘Hin dhaggeeffannu’ jettan.
18 Kanaafuu yaa saboota dhaga’aa;
yaa waldaa,
waan isaanitti dhufuuf jiru hubadhaa.
19 Yaa lafaa dhaga’i:
Ani waan isaan dubbii koo dhaga’uu didanii
seera koos tuffataniif,
saba kanatti badiisa nan fida;
kunis ija daba isaanii ti.
20 Ixaanni biyya Shebaatii dhufu,
yookaan qayyii biyya fagootii dhufu maal na fayyada?
Aarsaan keessan kan gubamu fudhatama hin qabu;
qalmi keessanis hin tolu.”
21 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani fuula saba kanaa dura gufuu nan kaa’a.
Abbootiinii fi ijoolleen walii wajjin itti gufatu;
olloonnii fi michoonni ni barbadaa’u.”
22 WAAQAYYO akkana jedha;
“Kunoo, gareen loltootaa tokko
biyya kaabaatii dhufaa jira;
sabni guddaan tokkos
andaara lafaatii sosocho’aa jira.
23 Isaan xiyyaa fi eeboo qabataniiru;
isaan gara jabeeyyii, namaafis naasuu hin qabnee dha.
Yommuu isaan fardeen isaanii gulufanitti
gigigsuun isaanii akkuma huursaa galaanaa ti;
yaa Intala Xiyoon, isaan akkuma namoota
duulaaf hiriiraniitti si loluuf dhufu.”

24 Nu oduu waa’ee isaanii dhageenyeerra;
harki keenyas ni laafe.
Dhiphinni nu qabateera;
miixuunis akkuma dubartii ciniinsifattuu nu qabe.
25 Sababii diinni goraadee qabatee fi
sababii iddoo hunda gooliin jiruuf
isin diidatti gad hin ba’inaa;
yookaan karaa irra hin deemnaa.
26 Yaa saba ko, uffata gaddaa uffadhaatii
daaraa keessa gangaladhaa;
akka nama ilma isaa tokkicha dhabeetti
hiqqifadhaa boo’aa;

inni nama balleessu sun
akkuma tasaa nutti dhufaatii.

27 “Akka ati karaa isaanii qortee beektuuf
ani saba koo gidduutti qorataa si godheera.
28 Hundi isaanii finciltoota mata jabeeyyii
maqaa namaa balleessuuf asii fi achi jooranii dha.
Isaan naasii fi sibiila;
isaan hundinuu malaa maltummaa hojjetu.
29 Buufaan dilaalii ibiddaan gubee balleessuuf
humna guddaan buufa;
hojiin ibiddaan qulqulleessuu kun faayidaa malee hojjetama;
namoonni hamoon hin balleeffamneetii.
30 Sababii WAAQAYYO isaan gateef
isaan meetii gatamaa jedhamu.”

# 7

*Amantiin Sobaa Faayidaa Hin Qabu*

1 Dubbiin WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe isa kanaa dha; 2 “Balbala mana
WAAQAYYOO dura dhaabadhuutii akkana jedhii ergaa kana labsi:
“ ‘Isin sabni Yihuudaa warri WAAQAYYOON waaqeffachuuf balbalawwan kanneeniin
ol seentan hundi dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa. 3 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u,
Waaqni Israa’el akkana jedha: karaa keessanii fi hojii keessan qajeelfadhaa; anis
akka isin iddoo kana jiraattan nan godha. 4 Isin dubbii sobaa amanattanii, “Kun
mana qulqullummaa WAAQAYYOO ti; mana qulqullummaa WAAQAYYOO ti; mana
qulqullummaa WAAQAYYOO ti!” hin jedhinaa. 5 Isin utuu dhugumaan karaa keessanii
fi hojii keessan qajeelfattanii murtii qajeelaa waliif kennitanii, 6 utuu isin alagaa,
ijoollee abbaa hin qabne yookaan haadha hiyyeessaa cunqursuu baattanii iddoo
kanatti dhiiga nama yakka hin qabnee dhangalaasuu baattanii, utuu waaqota isin
balleessan duukaa bu’uu baattanii, 7 silaa ani akka isin iddoo kana, biyya ani bara
baraan abbootii keessaniif kenne keessa jiraattan nan godha. 8 Isin garuu dubbii
sobaa kan faayidaa hin qabne amanachaa jirtu.
9 “ ‘Isin hattanii nama ajjeeftanii, sagaagaltanii, sobaan kakattanii, Ba’aaliif ixaana
aarsitanii, waaqota hin beekin duukaa buutanii, 10 ergasii dhuftanii mana maqaa
kootiin waamamu kana keessatti fuula koo dhaabatanii, utuma amma iyyuu wantoota
jibbisiisoo kanneen hunda hojjechaa jirtanuu, “Nu keessaa hin qabnu” jettuu?
11 Manni maqaa kootiin waamame kun holqa saamtotaa isiniif ta’ee? Ani garuu waan
kana ergeera! jedha WAAQAYYO.
12 “ ‘Mee gara Shiiloo iddoo ani jalqabatti iddoo jireenya Maqaa kootiif godhadhe
sanaa dhaqaatii waan ani sababii hammina saba koo Israa’eliif ishee godhe ilaalaa.
13 WAAQAYYO akkana jedha: Yeroo isin waan kana hunda gootanitti, ani ammumaa
amma isinitti dubbadheera; isin garuu na hin dhaggeeffanne. Ani isinan waame;
isin garuu hin owwaanne. 14 Kanaafuu ani waanan Shiilootti fide sana amma mana
Maqaa kootiin waamamu, mana Qulqullummaa kan isin amanattan, iddoo ani isinii
fi abbootii keessaniif kenne kanattis nan fida. 15 Ani akkuman obboloota keessan
jechuunis saba Efreem hunda fuula koo duraa ari’e sana isiniinis nan ari’a.’
16 “Kanaafuu ati saba kanaaf hin kadhatin; yookaan waa’ee isaaniitiif hin boo’in
yookaan waammata hin dhi’eessin; ani si hin dhaga’uutii na hin kadhatin. 17 Ati
waan isaan magaalaawwan Yihuudaa keessattii fi daandiiwwan Yerusaalem irratti
hojjetan hin argituu? 18 Ijoolleen qoraan funaanu; abbootiin ibidda qabsiisu;

dubartoonni immoo Mootittii Samiitiif keekii tolchuuf bukoo bukeessu. Isaan
dheekkamsaaf na kakaasuuf waaqota biraatiif dhibaayyuu dhibaafatu. 19 Garuu
kan isaan dheekkamsaaf kakaasan anaa? jedha WAAQAYYO. Isaan ofuma miidhanii
qaana'an mitii?
20 " 'Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Aarii fi dheekkamsi koo iddoo
kana irratti, namaa fi horii irratti, mukkeen diidaattii fi waan lafti baaftu irratti ni
dhangala'a; inni inuma boba'a malee hin dhaamu.
21 " 'WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: Aarsaa
keessan kan gubamu qalma keessanitti dabalaatii foon nyaadhaa! 22 Ani yeroon
biyya Gibxii abbootii keessan baasetti waa'ee aarsaa gubamuutii fi qalmaa isaanitti
hin dubbanne yookaan isaan hin ajajne; 23 ani garuu ajaja kana isaaniif nan kenne:
Anaaf ajajamaa; ani Waaqa keessan nan ta'a; isinis saba koo ni taatu. Akka isinii
toluuf karaa ani isin ajaju hunda irra deemaa. 24 Isaan garuu hin dhaggeeffanne
yookaan hin qalbeeffanne; qooda kanaa mata jabina fedhii garaa isaanii duukaa
ba'an. Isaan dugda duubatti deebi'an malee gara fuula duraatti hin deemne. 25 Gaafa
abbootiin keessan biyya Gibxii ba'anii jalqabee hamma ammaatti ani guyyuma
guyyaan, ammumaa amma tajaajiltoota koo raajota isiniif ergeera. 26 Isaan garuu
na hin dhaggeeffanne yookaan hin qalbeeffanne. Isaan mataa jabaatanii abbootii
isaanii caalaa waan hamaa hojjetan.'
27 "Yeroo ati waan kana hunda isaanitti himtu isaan si hin dhaga'an; yeroo ati isaan
waamtus si jalaa hin owwaatan. 28 Kanaafuu akkana isaaniin jedhi; 'Sabni kun saba
WAAQAYYO Waaqa isaatiif hin ajajamne, kan adabbii isaa illee hin fudhannee dha.
Dhugaan badeera; afaan isaanii keessaas dhabameera.
29 " 'Rifeensa mataa keetii of irraa cirii gati; iddoo ol ka'aa qullaatti ol ba'ii boo'i;
WAAQAYYO dhaloota dheekkamsa isaa jala jiru kana tuffatee gateeraatii.

### *Sulula Qalmaa*

30 " 'Sabni Yihuudaa fuula koo duratti waan hamaa hojjeteera; jedha WAAQAYYO.
Isaan waaqota isaanii tolfamoo jibbisiisoo mana maqaa kootiin waamamu keessa
dhaabanii manicha xureessaniiru. 31 Isaan ilmaanii fi intallan isaanii achitti ibiddaan
gubuuf jedhanii Sulula Ben Hinoom keessatti iddoo sagadaa Toofet ijaaran; kun
immoo waan ani isaan hin ajajin yookaan yaada kootti hin dhufinii dha. 32 Kanaafuu
beekkadhaa! Barri itti namoonni iddoo sanaan, si'achi Sulula qalmaa jedhanii
waaman malee Toofet yookaan Sulula Ben Hinoom hin jenne ni dhufa; isaan
hamma iddoon hanqatutti Toofetitti warra du'an awwaaluutii, jedha WAAQAYYO.
33 Reeffi namoota kanaa simbirroota samiitii fi bineensota lafaatiif nyaata ta'a; namni
sodaachisee irraa isaan ari'u tokko iyyuu hin jiru. 34 Ani magaalaawwan Yihuudaa
keessaa fi daandiiwwan Yerusaalem irra sagalee kolfaatii fi gammachuu, sagalee
misirrichaatii fi misirrittii nan balleessa; biyyattiin ni ontiitii.

## 8

1 " 'Bara sana lafeen moototaatii fi qondaaltota Yihuudaa, lafeen lubootaatii fi
raajotaa, lafeen namoota Yerusaalem awwaala isaanii keessaa ni baafama' jedha
WAAQAYYO. 2 'Isaan fuula aduu fi ji'aa duratti, fuula guutummaa urjiiwwan samii
hundaa, kanneen jaallatanii fi tajaajilanii, kanneen faana bu'anii gorsa gaafatanii
fi waaqeffatan sanaa duratti ni saaxilamu. Isaan akkuma kosii lafatti gatamee ta'an
malee walitti hin qabaman yookaan hin awwaalaman. 3 Hambaan saba hamaa kanaa
hundi lafa ani itti isaan ari'u hundatti jireenya irra du'a filata' jedha WAAQAYYO Waan
Hunda Danda'u.

### *Cubbuu fi Adabbii*

4 "Ati akkana isaaniin jedhi; 'WAAQAYYO akkana jedha:

“ ‘Namoonni yoo kufan hin ka’anii?
Namni tokko yoo karaa irraa bade hin deebi’uu?
5 Yoos sabni kun maaliif karaa irraa jal’ata?
Yerusaalem maaliif yeroo hunda karaa irraa jal’atti?
Isaan gowwoomsaatti cichu;
deebi’uus ni didu.
6 Ani qalbeeffadhee dhaggeeffadheera;
isaan garuu waan qajeelaa hin dubbatan.
Namni tokko iyyuu, “Ani maalan balleesse?” jedhee
hammina isaa irraa hin deebi’u.
Tokkoon tokkoon isaanii akkuma farda lolatti gulufuu
karaa ofii isaanii irra qajeelu.
7 Huummoon samii keessaa iyyuu
waqtii isheef murtaa’e ni beekti;
gugeen, daalotee fi cuquliisnis
yeroo godaansa isaanii ni eegu.
Sabni koo garuu
seera WAAQAYYOO hin beeku.

8 “ ‘Isin akkamitti, “Nu seera WAAQAYYOO
waan qabnuuf ogeeyyii dha” jechuu dandeessu?
Garuu kunoo, qalamni sobaa
kan barreessitootaa sobee barreesseera.
9 Namoonni ogeeyyiin ni qaaneffamu;
isaan na’anii kiyyoodhaan ni qabamu;
isaan erga dubbii WAAQAYYOO tuffatanii,
ogummaa akkamii qabu ree?
10 Kanaafuu ani niitota isaanii namoota biraatiif,
lafa qotiisaa isaanii immoo mo’attootaaf nan kenna.
Xinnaadhaa hamma guddaatti
hundi isaanii iyyuu bu’aa argachuuf gaggabu;
raajonnii fi luboonnis akkasuma
hundi isaanii nama gowwoomsu.
11 Isaan madaa saba kootii,
akkuma waan xinnaa tokkootti ilaalanii wal’aanu.
Utuu nagaan hin jiraatinis
“Nagaa, nagaa” jedhu.
12 Isaan amala isaanii jibbisiisaa sanatti ni qaana’uu?
Lakkii, isaan qaanii tokko iyyuu hin qaban;
qaana’uun maal akka ta’e iyyuu hin beekan.
Kanaafuu isaan warra kufan wajjin ni kufu;
yeroo adabamanitti gad gatamu
jedha WAAQAYYO.

13 “ ‘Ani guutumaan guutuutti isaan nan balleessa;
jedha WAAQAYYO.
Wayinii irratti iji hin argamu.
Iji harbuu muka harbuu irratti hin argamu.
Baalli isaaniis ni coollaga.
Wanni ani isaaniif kenne
isaan irraa ni fudhatama.’ ”

14 Nu maaliif as teenya?
Walitti qabamaa!
Kottaa gara magaalaawwan
dallaa jabaa qabaniitti baqannee achitti haa dhumnu!
Waan nu cubbuu isatti hojjenneef
WAAQAYYO Waaqni keenya badiisatti
dabarsee nu kenneeraatii;
akka dhugnuufis bishaan summaa'aa nuu kenneera.
15 Nu nagaa abdanne;
garuu wanni gaariin tokko iyyuu hin dhufne;
nu yeroo fayyinaa abdanne;
garuu goolii qofatu ture.
16 Daan keessaa korrisuu fardeen diinaatu dhaga'ama;
guutuun biyyattii himimsuu korommii fardeen isaaniitiin hollatti.
Isaan biyyattii fi waan ishee keessa jiru hunda,
magaalaa fi warra ishee keessa jiraatan hunda,
balleessuuf dhufaniiru.

17 "Ani kunoo bofa hadhaa qabu,
buutii falfalli dawweessuu hin dandeenye isinitti nan erga;
isaanis isin iddu"
jedha WAAQAYYO.

18 Yaa isa gadda keessatti na Jajjabeessitu,
onneen koo na keessatti gaggabdeerti.
19 Kunoo, iyyi saba kootii
biyya fagoodhaa ni dhaga'ama:
"WAAQAYYO Xiyoon keessa hin jiruu?
Mootiin ishee achi hin jiruu?"

"Isaan maaliif fakkiiwwan isaaniitiin,
waaqota isaanii tolfamoo biyya ormaatiin
dheekkamsaaf na kakaasu?"

20 "Yeroon itti midhaan galfamu darbeera;
bonnis hobba'eera;
nu garuu hin fayyine."

21 Sabni koo waan miidhameef anis miidhameera;
Ani nan boo'e; sodaan guddaanis na qabate.
22 Qorichi dibatan Gili'aad keessa hin jiruu?
Abbaan qorichaa tokko iyyuu achi hin jiruu?
Yoos madaan intala saba kootii
maaliif hin fayyu ree?

# 9

1 Akka ani halkanii guyyaa,
saba koo dhume sanaaf boo'uuf,
maaloo utuu mataan koo madda bishaanii
iji koo immoo burqaa imimmaanii ta'e!
2 Ani akkan saba koo dhiisee
biraa fagaadhuuf,

maaloo utuu gammoojjii keessaa
lafa bultii kara deemtotaa qabaadhee!
Hundi isaanii sagaagaltoota,
tuuta saba hin amanamne tokkoo ti.

3 “Isaan soba darbachuuf
arraba isaanii akka xiyyaatti qopheeffatu;
isaan biyyattii keessatti
dhugaadhaan hin mo’anne.
Isaan cubbuu irratti cubbuu dabalu;
anaanis hin beekan”
jedha WAAQAYYO.
4 “Michoota keessan irraa of eegaa;
obboleessa hin amaninaa.
Obboleessi hundi gowwoomsituu dha,
michuun hundis maqa balleessituudhaatii.
5 Michuun michuu gowwoomsa;
namni tokko iyyuu dhugaa hin dubbatu.
Isaan arraba isaanii soba barsiifataniiru;
cubbuu hojjechuudhaanis of dadhabsiisaniiru.
6 Ati gidduu gowwoomsitootaa jiraatta;
isaan gowwoomsaa isaanii keessatti na beekuu didan”
jedha WAAQAYYO.
7 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Kunoo, ani sababii cubbuu saba kootiif baqseen isaan qora;
ani sababii intala saba kootiitiif maal gochuun danda’a?
8 Arrabni isaanii xiyya nama galaafatuu dha;
inni gowwoomsaa dubbata.
Tokkoon tokkoon namaa ollaa isaatti afaan isaatiin nagaa dubbata;
garaa isaa keessa garuu kiyyoo kaa’aaf.
9 Ani waan kanaaf isaan hin adabuu ree?”
jedha WAAQAYYO.
“Ani mataan koo saba akka saba kanaa,
haaloo hin ba’uu ree?”

10 Ani tulluuwwaniif gadoodee nan boo’a;
lafa dheedaa gammoojjiitiifis faarsee nan boo’a.
Sababii isaan onanii hafaniif namni tokko iyyuu achiin hin darbu;
mar’achuun looniis hin dhaga’amu.
Simbirroonni samii achii baqataniiru;
bineensonnis godaananiiru.

11 “Ani Yerusaalemin tuullaa waan diigameetii fi
boolla waangoo nan godha;
akka namni tokko iyyuu achi jiraachuu hin dandeenyeef
magaalaawwan Yihuudaa nan onsa.”
12 Ogeessi waan kana hubachuu danda’u eenyu? Namni WAAQAYYOON qajeelfamee
waan kana ibsuu danda’u eenyu? Biyyattiin maaliif akkuma gammoojjii namni tokko
iyyuu keessa darbuu hin dandeenye tokkootti diigamtee onte?
13 WAAQAYYO akkana jedhe; “Kun sababii isaan seera koo kan ani fuula isaanii dura
kaa’e sana dhiisaniifii dha; isaan anaaf hin ajajamne yookaan seera koo duukaa hin

buune. 14 Qooda kanaa mata jabinaan fedhii garaa isaanii duukaa bu'an; akkuma
abbootiin isaanii isaan barsiisanittis Ba'aal duukaa bu'an." 15 Kanaafuu WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: "Kunoo, ani akka sabni kun
nyaata hadhaa'aa nyaatuu fi akka inni bishaan summaa'aa dhugu nan godha. 16 Ani
saboota isaan yookaan abbootiin isaanii hin beekin keessa isaan nan bittinneessa;
ani hamman lafa irraa isaan barbadeessuttis goraadeedhaan isaan nan ari'a."

17 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha:

"Mee qalbeeffadhaa!
Akka dubartoonni nama boossisan dhufaniif waamaa;
isaan keessaa warra ogummaadhaan caalanitti
nama ergaa waamsisaa.
18 Isaan dafanii dhufanii
hamma iji keenya imimmaan yaasee
bishaanis baallee ija keenyaa keessaa burqutti
iyyanii nuuf haa boo'an.
19 Sagaleen boo'ichaa kan,
'Nu hammam badneerra!
Qaaniin keenyas hammam guddaa dha!
Sababii manneen keenya diigamaniif
nu biyya keenya keessaa ba'uu qabna' jedhu tokko
Xiyoon keessaa ni dhaga'ama."

20 Yaa dubartoota, egaa dubbii WAAQAYYOO dhaga'aa;
dubbii afaan isaatii ba'uuf gurra keessan banadhaa.
Akka itti boo'an intallan keessan barsiisaa;
faaruus wal barsiisaa.
21 Duuti foddaa keenyaan ol lixeera;
da'annoowwan keenyas seeneera;
innis daandiiwwan irraa ijoollee
oobdiiwwan sabaa irraa dargaggoota balleesseera.

22 Ati akkana jedhi: "WAAQAYYO akkana jedha:

" 'Reeffi namootaa
akkuma kosii diidatti gatamee,
akkuma bissii midhaanii kan nama haamuu duubaan hafee
nama walitti qabu dhabeetti ciciisa.' "

23 WAAQAYYO akkana jedha:

"Ogeessi, ogummaa isaatiin hin boonin;
yookaan namni jabaan, jabina isaatiin hin boonin
yookaan sooressi, sooroma isaatiin hin boonin;
24 namni boonu garuu,
akka ani WAAQAYYO garaa namaaf laafu,
kan lafa irratti murtii qajeelaa fi qajeelummaa hojjetu ta'e
hubatee na beekuu isaatiin haa boonu;
ani waan kanatti nan gammadaatii,"
jedha WAAQAYYO.

25 WAAQAYYO akkana jedha; "Barri ani itti warra foon isaanii qofaan dhagna
qabaman hunda adabu ni dhufa; isaanis: 26 Gibxi, Yihuudaa, Edoom, Amoon,
Mo'aabii fi warra gammoojjii keessa iddoo fagoo jiraatan hunda. Saboonni kunneen
hundi dhugumaan dhagna hin qabamne; garaan mana Israa'el hundaa iyyuu dhagna
hin qabamne."

# 10

*WAAQAYYOO fi Waaqota Tolfamoo*
*10:12-16 kwf – Erm 51:15-19*

1 Yaa mana Israa'el, waan WAAQAYYO isiniin jedhu dhaga'aa. 2 WAAQAYYO akkana
jedha:
"Isin karaa saboota ormaa hin baratinaa;
sabоonni ormaa isaan sodaatan iyyuu
isin mallattoowwan samii hin sodaatinaa.
3 Barteen uummattootaa faayidaa hin qabu;
isaan bosona keessaa muka muru;
ogeessi hojii harkaa immoo qottoodhaan bifa itti baasa.
4 Isaanis meetii fi warqeedhaan miidhagsu;
akka inni hin sochooneef
burruusaa fi mismaaraan walitti qabsiisu.
5 Waaqonni isaanii tolfamoon
akkuma fakkeettii ittiin waa sodaachisan
kan lafa qotiisaa buqqee keessaa sana dubbachuu hin danda'an;
isaan waan deemuu hin dandeenyeef baatamuu qabu.
Sababii isaan nama miidhuu
yookaan waan gaarii tokko iyyuu hojjechuu hin dandeenyeef
isaan hin sodaatinaa."

6 Yaa WAAQAYYO kan akka keetii tokko iyyuu hin jiru;
ati guddaa dha;
maqaan kees humna guddaa qaba.
7 Yaa mootii sabootaa eenyutu si hin sodaanne?
Kun siif ni malaatii.
Ogeeyyii sabootaa hunda keessaa,
mootummoota isaanii hunda keessaas
kan akka keetii tokko iyyuu hin jiru.

8 Isaan hundinuu qalbii hin qaban; gowwootas;
isaan waaqota tolfamoo mukkeenii kanneen faayidaa hin qabneen qajeelfamu.
9 Meetiin tumame Tarshiishii,
warqeen immoo Uufaazii fidama.
Wanni ogeessi hojii mukaatii fi tumtuun warqee hojjetan,
wanni hojjettoota ogummaa qabaniin hojjetaman hundi
halluu cuquliisaa fi diimaa dhiilgee uffifamaniiru.
10 WAAQAYYO garuu Waaqa dhugaa ti;
inni Waaqa jiraataa, Mootii bara baraa ti.
Yeroo inni dheekkamutti lafti ni hollatti;
saboonnis dheekkamsa isaa dura dhaabachuu hin danda'an.
11 "Isin waan kana isaanitti himaa; 'Waaqonni samii fi lafa hin uumin kunneen lafa
irraa fi samii jalaa ni barbadaa'u.' "
12 Waaqni garuu humna isaatiin lafa uume;
ogummaa isaatiin addunyaa hundeesse;
hubannaa isaatiinis samiiwwan diriirse.
13 Yommuu inni qaqawweessa'utti bishaanonni samii ni huursu;
inni akka duumessoonni daarii lafaatii ol ka'an ni godha.
Inni bokkaa wajjin balaqqee ni erga;
mankuusaalee isaa keessaa immoo bubbee ni fida.

14 Tokkoon tokkoon namaa gowwaa fi kan beekumsa hin qabnee dha;
tokkoon tokkoon tumtuu warqee waaqota tolfamoo isaatiin qaaneffama.
Fakkiiwwan inni tolchu kan sobaa ti;
isaan hafuura baafatan of keessaa hin qaban.
15 Isaan faayidaa hin qaban; meeshaa qoosaa ti.
Yeroo adabbiin isaanii ga'utti ni badu.
16 Inni Qooda Yaaqoob ta'e sun garuu akka warra kanaa miti;
inni Uumaa waan hundumaa ti,
Israa'el immoo gosa dhaala isaa ti;
maqaan isaas Waaqayyoo Waan Hunda Danda'uu dha.

### *Badiisa Dhufaa Jiru*

17 Ati kan marfamtee jirtu,
biyyattii keessaa ba'uuf qabeenya kee
walitti qabadhu.
18 Waaqayyo akkana jedhaatii;
"Kunoo, ani amma warra biyyattii keessa jiraatan
furguggisee nan baasa;
akka isaan dhiphataniifis
rakkina isaanitti nan fida."

19 Waan ani miidhameef anaaf wayyoo!
Madaan koo kan hin fayyinee dha!
Ta'us ani ofii kootiin,
"Kun dhukkuba koo ti; anis isa obsuun qaba" nan jedhe.
20 Dunkaanni koo diigameera;
funyoon isaa hundis cicciteera.
Ilmaan koo na dhiisanii sokkaniiru;
isaan hin jiran; namni dunkaana naa dhaabu,
yookaan golgaa naa hidhu tokko iyyuu hin jiru.
21 Tiksoonni qalbii hin qaban;
Waaqayyonis hin barbaaddatan;
kanaafuu isaan hin milkaa'an;
bushaayeen isaanii hundinuus bittinnaa'aniiru.
22 Kunoo, oduun, raafamni guddaan tokko
biyya kaabaatii dhufaa jira!
Innis magaalaawwan Yihuudaa onsee
iddoo waangoonni jiraatan godha.

### *Kadhannaa Ermiyaas*

23 Yaa Waaqayyo, ani akka jireenyi namaa
kan mataa isaa hin ta'in nan beeka;
namni adeemsa isaa ofumaan qajeelfachuu danda'u hin jiru.
24 Yaa Waaqayyo dheekkamsa keetiin utuu hin ta'in,
murtii qajeelaadhaan na sirreessi;
yoo kanaa achii ati na balleessitaatii.
25 Saboota si hin beeknetti
uummata maqaa kee hin waammannetti
dheekkamsa kee dhangalaasi.
Isaan Yaaqoobin nyaataniiruutii;
guutumaan guutuuttis isa nyaatanii;
iddoo jireenya isaa illee barbadeessaniiru.

# 11

*Kakuun Cabee Jira*

1 Dubbiin WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe isa kanaa dha: 2 "Dubbii kakuu
kanaa dhaga'aatii saba Yihuudaattii fi namoota Yerusaalem keessa jiraatanitti himaa.
3 WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana jedha, jedhiitii isaanitti himi; 'Namni dubbii
kakuu kanaatiif hin ajajamne haa abaaramu. 4 Dubbiin kunis dubbii ani yeroon biyya
Gibxi jechuunis boolla ibiddaa kan itti sibiila baqsan keessaa isaan baasetti abbootii
keessan ajajee dha.' Anis akkanan jedhee, 'Naa ajajamaatii waan ani isin ajaju hunda
hojjedhaa; yoos isin saba koo taatu. Anis Waaqa keessan nan ta'a. 5 Ergasiis ani kakuu
akka biyya aannanii fi dammii keessaa yaa'u isaaniif kennuuf abbootii keessaniif
kakadhe sana fiixaan nan baasa;' biyyi sunis biyya isin har'a dhaaltanii jirtanii dha."

Anis "Ameen, Yaa WAAQAYYO" nan jedhe.

6 WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Dubbii kana hunda magaalaawwan Yihuudaa
keessattii fi daandiiwwan Yerusaalem irratti akkana jedhii labsi; 'Dubbii kakuu
kanaa hunda dhaga'aatii duukaa bu'aa. 7 Ani gaafan abbootii keessan biyya Gibxiitii
baasee jalqabee hamma har'aatti, "Naa ajajamaa" jedhee ammumaa amma isaan
akeekkachiisaan ture. 8 Isaan garuu hin dhaggeeffanne yookaan hin qalbeeffanne;
qooda kanaa isaan mata jabina garaa isaanii hamaa sanaa faana bu'an. Kanaafuu
ani abaarsa kakuu ani akka isaan duukaa bu'aniif isaan ajajee isaan garuu eeguu
didan sanaa hunda isaanittan fide.' "

9 Ammas WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Saba Yihuudaatii fi uummata Yerusaalem
jiraatu gidduutti fincila tokkotu argame. 10 Isaan gara cubbuu abbootii isaanii kan-
neen dubbii koo dhaga'uu didan sanaatti deebi'aniiru. Waaqota biraa tajaajiluudhaaf
jedhaniis isaan faana bu'aniiru. Manni Israa'elii fi manni Yihuudaa kakuu ani
abbootii isaanii wajjin kakadhe sana cabsaniiru. 11 Kanaafuu WAAQAYYO akkana
jedha; 'Ani balaa jarri jalaa ba'uu hin dandeenye tokko isaanitti nan fida. Yoo isaan
natti iyyatan iyyuu ani isaan hin dhaga'u. 12 Magaalaawwan Yihuudaatii fi namoonni
Yerusaalem dhaqanii waaqota duraan ixaana aarsaniif sanatti iyyatan; waaqonni
sun garuu yeroo rakkinni isaanitti dhufutti isaan gargaaruu hin danda'an. 13 Yaa
Yihuudaa ati akkuma magaalaawwan baay'ee qabdu sana waaqota baay'ee qabda;
iddoowwan aarsaa kanneen isin Ba'aal waaqa qaanessaa sanaaf qopheessitanis
akkuma daandiiwwan Yerusaalem baay'atan.'

14 "Sababii ani yeroo isaan rakkina isaanii keessatti na waammatanitti isaan hin
dhageenyeef ati saba kanaaf hin kadhatin; waammata yookaan iyyata tokko illee hin
dhi'eessiniif.

15 "Michuun koo namoota hedduu wajjin hojii hamaa hojjechaa
mana qulqullummaa koo keessaa maal qabdi?
Foon qulqulleeffamee addaan baafame
adabbii kee sirraa deebisuu ni danda'aa?
Gaafa waan hamaa hojjettu,
ati ni gammaddaatii."

16 WAAQAYYO duraan, Muka ejersaa lalisaa
miidhagaa ija qabu siin jedhee ture.
Amma garuu huursaa bubbee jabaatiin
ibidda itti qabsiisa;
dameewwan isaas ni caccabsamu.

17 Sababii manni Israa'elii fi manni Yihuudaa waan hamaa hojjetanii, Ba'aaliif ixaana
aarsuudhaan dheekkamsaaf na kakaasaniif WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u inni si
dhaabe sun badiisa sitti labseera.

*Marii Ermiyaasitti Mari'atame*

18 Sababii WAAQAYYO mala isaanii naaf ibseef ani waan sana nan beeke; inni yeroo
sanatti waan isaan hojjechaa jiran natti argisiiseeraatii. 19 Anis akkuma xobbaallaa
hoolaa isa garraamii kan gara qalmaatti oofamu tokkoon ture; ani akka isaan,
"Kottaa muka sanaa fi ija isaa haa barbadeessinuu;
akka maqaan isaa si'achi hin yaadatamneef,
kottaa biyya jiraattotaa keessaa isa balleessinaa" jechuudhaan
natti malatan ani hin hubannen ture.
20 Garuu yaa WAAQAYYOO Waan Hunda Dandeessu,
kan murtii qajeelaa kennitu, kan garaa fi yaada namaa qortu,
ani dhimma koo sitti kennadheeraatii
ati akka haaloo isaanitti baatu na argisiisi.
21 "Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedhee waa'ee namoota Anaatoot warra, 'Ati
maqaa WAAQAYYOOTIIN raajii hin dubbatin yoo kanaa achii harka keenyatti duuta'
jechuudhaan si ajjeesuu barbaadan sanaa dubbata. 22 Kanaafuu WAAQAYYOON
Waan Hunda Danda'u akkana jedha: 'Ani jara nan adaba. Dargaggoonni isaanii
goraadeedhaan, ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii immoo beelaan ni dhumu.
23 Sababii ani bara isaan itti adabaman keessa namoota Anaatootitti balaa fiduuf
isaan hambaa tokko iyyuu hin qabaatan.' "

# 12

*Gungummii Ermiyaas*

1 Yaa WAAQAYYO yommuu ani iyyata koo fuula kee duratti dhi'eeffadhutti
ati yeroo hunda qajeelaa dha.
Ta'u iyyuu ani waa'ee qajeelummaa keetii nan dubbadha;
karaan jal'ootaa maaliif milkaa'a?
Warri hin amanamne hundi maaliif nagaan jiraatu?
2 Ati isaan dhaabde; isaanis hidda gad fageeffataniiru;
ni guddatu; ijas ni naqatu.
Ati yeroo hunda afaan isaaniitii hin buutu;
garaa isaanii irraa garuu fagoo jirta.
3 Ta'us yaa WAAQAYYO ati na beekta;
na ilaaltees yaada ani siif qabu ni qorta.
Akka hoolaa qalamuuf deemuutti
harkisii isaan geessi!
Guyyaa qalmaatiifis kophaatti isaan baasi!
4 Biyyattiin hamma yoomiitti boossee
margi dirree hundis goga?
Sababii hammina warra biyyattii
keessa jiraataniitii fi sababii namoonni,
"Inni waan nurra ga'aa jiru hin argu" jedhaniif
horii fi simbirroonni dhumaniiru.

*Deebii Waaqayyoo*

5 "Ati namoota lafoo wajjin fiigdee erga
isaan si dadhabsiisanii,
fardeen wajjin akkamitti dorgomuu dandeessa ree?
Ati biyya nagaa keessatti erga gufatte,
bosona Yordaanos keessatti akkam taata ree?
6 Obboloonni kee, maatiin abbaa keetii,
isaan iyyuu si gananiiru;

isaan sagalee ol fudhatanii sitti iyyu.
Yoo isaan afaan nagaa sitti dubbatan iyyuu,
ati isaan hin amanin.

7 “Ani mana koo dhiiseera;
handhuuraa koos gateera;
ani ishee garaan koo jaallatu sana
harka diinota isheetti dabarsee kenneera.
8 Handhuuraan koo
akkuma leenca bosonaa natti taateerti.
Isheen natti aadde;
kanaafuu ani ishee jibbeera.
9 Handhuuraan koo akka allaattii burree
kan allaattiiwwan biraa marsanii miidhan
tokkoo natti hin taanee?
Dhaqaatii bineensota bosonaa hunda walitti qabaa;
akka ishee nyaataniifis isaan fidaa.
10 Tiksoonni hedduun
iddoo dhaabaa wayinii kootii ni balleessu;
qooda koos ni dhidhiitu;
qooda natti tolus ni onsu.
11 Isaan isa onsu;
inni onee gara kootti iyya;
namni dhimma isaa qabus
waan hin jirreef lafti guutuun onee hafa.
12 Lafa ol ka’aa qullaa gammoojjii
keessaa hunda irra balleessitoonni ni raam’isu;
goraadeen Waaqayyoo // moggaa biyyattii tokko irraa
hamma moggaa kaaniitti ni fixaatii;
namni tokko iyyuu hin hafu.
13 Isaan qamadii facaasu garuu qoraatii haammatu;
ni dhama’u garuu homaa hin argatan.
Sababii dheekkamsa Waaqayyoo isa cimaa sanaatiif
midhaan galfatanitti ni qaana’u.”
14 Waaqayyo akkana jedha; “Ani olloota koo hamoo kanneen handhuuraa ani
saba koo Israa’eliif kenne qabatan hunda biyya isaanii keessaa nan buqqisa; mana
Yihuudaas isaan gidduudhaa nan buqqisa. 15 Ani ergan isaan buqqisee booddee
deebi’ee na’eefii tokkoo tokkoo isaanii gara handhuuraa isaaniitii fi gara biyya
ofii isaaniitti nan deebisa. 16 Yoo isaan haala jireenya saba koo akka gaarii
baratanii akkuma duraan saba koo Ba’aaliin kakachuu barsiisan sana, ‘Dhugaa
Waaqayyo jiraataa’ jechuudhaan maqaa kootiin kakatan, isaan saba koo gidduutti
ni hundeeffamu. 17 Garuu yoo sabni kam iyyuu naa ajajamuu dide, ani guutumaan
guutuutti isa nan buqqisa; nan balleessas” jedha Waaqayyo.

# 13

*Sabbata Quncee Talbaa Irraa Hojjetame*
1 Waaqayyo akkana naan jedhe: “Dhaqiitii sabbata quncee talbaa irraa hojjetame
bitadhuu mudhii keetti hidhadhu; garuu bishaan hin tuqsiisin.” 2 Kanaafuu ani
akkuma Waaqayyo na ajajetti sabbata bitadhee mudhii kootti nan hidhadhe.
3 Ergasii dubbiin Waaqayyoo akkana jedhee yeroo lammaffaa gara koo dhufe:
4 “Sabbata bitattee mudhiitti hidhatte sana fuudhiitii gara Laga Efraaxiis dhaqi;

sabbata sanas baqaqaa kattaa keessa dhoksi.” 5 Kanaafuu ani akkuma WAAQAYYO
na ajajetti dhaqee sabbata sana Laga Efraaxiis bira nan dhokse.
6 Bultii hedduu booddee WAAQAYYO, “Amma gara Efraaxiis dhaqiitii sabbata ani
akka ati achitti dhoksitu si ajaje sana fudhadhu” naan jedhe. 7 Kanaafuu ani gara
Efraaxiis dhaqee sabbata sana iddoon itti dhoksee ture sanaa qotee baasee nan
fudhadhe; sabbanni sun garuu yeroo sanatti ciccitee guutumaan guutuutti horoomaa
ba’ee ture.
8 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 9 “WAAQAYYO akkana
jedha; ‘Ani haaluma wal fakkaatuun of tuulummaa Yihuudaatii fi of tuulummaa
Yerusaalem guddaa sana nan balleessa. 10 Sabni hamaan dubbii koo dhaga’uu didee
mata jabina garaa isaa duukaa bu’ee waaqota biraa tajaajiluu fi waaqeffachuuf isaan
faana bu’e kun akkuma sabbata kanaa ni ta’a; guutumaan guutuuttis horoomaa
ba’a. 11 Akkuma sabbanni tokko mudhii namaatti hidhamu sana anis akka isaan
saba, maqaa, galataa fi ulfina naa ta’aniif guutummaa mana Israa’elii fi guutummaa
mana Yihuudaa ofitti maxxanseen ture. Isaan garuu na hin dhaggeeffanne’ jedha
WAAQAYYO.

### *Qalqalloo Daadhii Wayinii*

12 “Ati akkana isaaniin jedhi: ‘WAAQAYYO Waaqni Israa’el akkana jedha: qalqalloon
daadhii wayinii hundi daadhii wayiniitiin guutamuu qaba.’ Yoo isaan, ‘Nu akka
qalqalloon daadhii wayinii hundi daadhii wayiniitiin guutamuu qabu hin beeknuu?’
siin jedhan, 13 ati akkana jedhiin; ‘WAAQAYYO akkana jedha: Ani namoota biyya
kana keessa jiraatan hunda, mootota teessoo Daawit irra taa’an, luboota, raajotaa
fi warra Yerusaalem keessa jiraatan hunda machiidhaan nan guuta. 14 Ani tokkoo
tokkoo isaanii walittin buusa; abbootii fi ilmaanis akkasuma walitti nan buusa, jedha
WAAQAYYO. Ani isaan nan balleessa malee isaaniif hin na’u yookaan isaaniif hin
araaramu yookaan garaa hin laafuuf.’ ”

### *Akeekkachiisa Of tuulummaa Irratti Kenname*

15 Dhaga’aa; qalbeeffadhaas;
of hin tuulinaa;
WAAQAYYO dubbateeraatii.
16 Utuu inni dukkana hin fidin,
utuu miilli keessan
tulluu dukkanaa’aa jiru irratti hin gufatin
WAAQAYYO Waaqa keessaniif ulfina kennaa.
Isin ifa abdattu; inni garuu ifa sana
dimimmisatti deebisee
dukkana duudaatti geeddara.
17 Yoo isin dhaga’uu baattan garuu,
sababii of tuulummaa keessaniitiif
lubbuun koo dhoksaatti ni boossi;
sababii bushaayeen WAAQAYYOO boojuun fuudhamaniif
iji koo akka malee boossee
imimmaan ishee keessaa ni rooba.

18 Mootichaa fi haadha mootichaatiin,
“Teessoo keessan irraa bu’aa;
gonfoon keessan ulfina qabeessi sun
mataa keessan irraa ni bu’aatii” jedhi.
19 Magaalaawwan Negeeb ni cufamu;
namni isaan banu tokko iyyuu hin jiru.
Yihuudaan hundi ni booji’amti;

guutumaan guutuuttis biyyaa fudhatamti.

20 Ija keessan ol fudhadhaatii
warra gama kaabaatii dhufaa jiran ilaalaa.
Bushaayeen imaanaa sitti kennaman,
hoolonni ati ittiin boonte sun eessa jiru?
21 Yommuu WAAQAYYO warra ati akka isaan michoota siif ta'aniif leenjifte sana
sirratti muudutti ati maal jetta?
Akkuma dubartii ciniinsifattu tokkoo
dhiphinni si hin qabuu?
22 Yoo ati, "Wanni kun maaliif natti dhufe?"
jettee of gaafatte
wanni wandaboon kee sirraa mulqamee
dhagni kee salphifameef
sababii cubbuu kee baay'ee sanaatiif.
23 Namni Itoophiyaa tokko bifa isaa
yookaan qeerransi buburrina isaa geeddaruu ni danda'aa?
Isin warri hammina hojjechuu barattanis
waan gaarii hojjechuu hin dandeessan.

24 "Akkuma bubbeen gammoojjii habaqii bittinneessu sana
anis isin nan bittinneessa.
25 Sababii ati na irraanfattee
waaqota sobaa amanatteef,
kun ixaa kee, qooda ani siif safaree dha"
jedha WAAQAYYO.
26 "Akka qaaniin kee mul'atuuf
ani wandaboo kee fuula keetti ol nan soqola.
27 Ejjummaa fi himimsuun kee,
sagaagalummaan kee kan qaanii hin qabne sunis ni mul'ata!
Ani hojii kee jibbisiisaa sana
gaarran irraa fi bakkee keessatti argeera.
Yaa Yerusaalem, siif wayyoo!
Ati hamma yoomiitti xurooftee hafta?"

# 14

*Hongee, Beela, Goraadee*

1 Dubbiin WAAQAYYOO waa'ee hongee akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe:
2 "Yihuudaan ni boossi;
magaalaawwan ishees gad deebi'aa jiru;
isaan biyyattiidhaaf ni wawwaatu;
iyyi tokkos Yerusaalemii dhaga'amaa jira.
3 Namoonni gurguddoonni hojjettoota isaanii bishaan waraabuuf ergatu;
isaanis gara boolla bishaanii dhaqu;
garuu bishaan hin argatan.
Isaan okkotee isaanii duwwaa qabatanii deebi'u;
isaan qaana'anii abdii kutatanii
mataa isaanii haguuggatu.
4 Sababii biyyattii keessaa
bokkaan dhabameef lafti ni babbaqaqxe;
qonnaan bultoonnis abdii kutatanii

mataa isaanii haguuggatu.
5 Sababii margi hin jirreef,
borofni bakkee iyyuu
ilmoo ishee kan reefuu dhalatte gattee deemti.
6 Harroonni diidaa lafa ol ka'aa qullaa irra ijaajjanii
akkuma waangotaa arganu;
sababii waan dheedan dhabaniif
iji isaanii waa arguu dadhabe."

7 Yaa WAAQAYYO, cubbuun keenya nutti dhugaa ba'u iyyuu
ati maqaa keetiif jedhiitii waa nuu godhi.
Duubatti deebi'uun keenya baay'ateera;
nu cubbuu sitti hojjenneerra.
8 Yaa abdii Israa'el,
Fayyisaa ishee kan yeroo rakkinaa,
ati maaliif akkuma kara deemtuu halkan tokko qofa bultuu
biyyattii keessatti akkuma keessummaa taata?
9 Ati maaliif akka nama waan godhu wallaale tokkoo,
akkuma loltuu nama oolchuu hin dandeenye tokkoo taata?
Yaa WAAQAYYO, ati nu gidduu jirta;
nu maqaa keetiin waamamna;
ati nu hin gatin.
10 WAAQAYYO waa'ee saba kanaa akkana jedha:
"Isaan jooruu jaallatu;
miilla isaanii hin ittifatan.
Kanaafuu WAAQAYYO isaanitti hin gammadu;
inni amma hammina isaanii ni yaadata;
cubbuu isaaniitiifis isaan adaba."
11 WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Akka sabni kun nagaan jiraatu na hin
kadhatin. 12 Yoo isaan sooman iyyuu ani iyya isaanii hin dhaga'u; yoo isaan aarsaa
gubamuu fi aarsaa midhaanii dhi'eessan iyyuu ani hin fudhadhu. Qooda kanaa ani
goraadeedhaan, beelaa fi dha'ichaan isaan nan balleessa."
13 Ani garuu akkana nan jedhe; "Wayyoo yaa WAAQAYYO Gooftaa, raajonni saba
kanaan, 'Isin goraadee hin argitan yookaan hin beeloftan. Ani dhugumaan nagaa
dhuma hin qabne iddoo kanatti isiniif nan kenna' jedhu."
14 Amma illee WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Raajonni sun maqaa kootiin soba
raaju. Ani isaan hin ergine yookaan isaan hin muudne yookaan isaanitti hin
dubbanne. Isaan mul'ataa fi raajii sobaa, waaqa tolfamaa waaqeffachuu fi waan
ofuma isaaniitii yaadan isinitti himu. 15 Kanaafuu WAAQAYYO waa'ee raajota maqaa
isaatiin raajan sanaa akkana jedha: ani isaan hin ergine; isaan garuu, 'Goraadeen
yookaan beelli tokko iyyuu biyya kana hin tuqu' jedhu. Raajonni sun iyyuu
goraadee fi beelaan dhumu. 16 Namoonni isaan raajii dubbataniif sunis beelaa fi
goraadeedhaan daandiiwwan Yerusaalem irratti harcaafamu. Namni isaan yookaan
niitota isaanii, ilmaan isaanii yookaan intallan isaanii awwaalu tokko iyyuu hin jiru.
Ani badiisa isaaniif malu isaanitti nan dhangalaasaatii.

17 "Akkana jedhii dubbii kana isaanitti dubbadhu:
" 'Iji koo halkanii fi guyyaa utuu gargar
hin kutin imimmaan haa lolaasu;
intalli, Durbi Qulqullittiin saba kootii
akka malee madooftee

dha’icha hamaadhaan dha’amte.
18 Ani yoon baadiyyaa dhaqe,
warra goraadeedhaan dhuman nan arga;
yoon magaalaa seene immoo,
warra beelaan dhuman nan arga.
Raajonnii fi luboonni
biyya hin beekne keessa jooru.’ ”

19 Ati Yihuudaa guutumaan guutuutti gatteertaa?
Xiyooniinis ni tuffattaa?
Ati maaliif
akka nu fayyuu hin dandeenyeef nu miita?
Nu nagaa abdanne;
garuu wanni gaariin tokko iyyuu hin dhufne;
nu yeroo fayyinaa abdanne;
garuu raafama qofatu jira.
20 Yaa WAAQAYYO, nu hammina keenyaa fi
yakka abbootii keenyaa ni beekna;
nu dhugumaan cubbuu sitti hojjenneerra.
21 Ati maqaa keetiif jedhiitii nu hin tuffatin;
teessoo kee ulfina qabeessa sanas hin qaanessin.
Kakuu nu wajjin galte sana yaadadhu;
isas hin cabsin.
22 Waaqota Namoota Ormaa kanneen faayidaa hin qabne sana keessaa
tokko iyyuu bokkaa ni roobsaa?
Samiiwwan mataan isaanii iyyuu tiifuu gad erguu?
Yaa WAAQAYYO Waaqni keenya suma mitii?
Kanaafuu abdiin keenya suma;
situ waan kana hunda hojjetaatii.

# 15

1 WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Yoo Musee fi Saamu’eel fuula koo dura dhaabatan
iyyuu garaan koo gara saba kanaatti hin deebi’u. Fuula koo duraa isaan ari’i! Isaan
haa deeman! 2 Yoo isaan, ‘Eessa dhaqna?’ jedhanii si gaafatan immoo akkana jedhii
isaanitti himi; ‘WAAQAYYO akkana jedha:
“ ‘Namni du’aaf ramadame gara du’aa,
namni goraadeedhaaf ramadame gara goraadee,
namni beelaaf ramadame gara beelaa,
namni boojuudhaaf ramadame immoo gara boojuu dhaqa.’
3 “Ani waan isaan balleessu gosa afur isaanitti nan erga” jedha WAAQAYYO. “Akka
isaan ajjeesuuf goraadee, akka isaan harkisaniif saroota, akka isaan nyaatanii fixaniif
immoo allaattiiwwan samiitii fi bineensota lafaa isaanitti nan erga. 4 Ani sababii
Minaaseen ilmi Hisqiyaas mootichi Yihuudaa Yerusaalem keessatti hojjete waan
sanaatiif fuula mootummoota lafa irraa hunda duratti jibbamtoota isaan nan godha.
5 “Yaa Yerusaalem, eenyutu garaa siif laafa?
Eenyutu siif boo’a?
Eenyutu si dubbisuuf sitti gora?
6 Ati na dhiifteerta;
ittuma fuftees duubatti deebi’aa jirta”
jedha WAAQAYYO.
“Kanaafuu ani harka koo sitti hiixadhee sin balleessa;

ani si’achi siif na’uu hin danda’u.
7 Ani karrawwan magaalaa biyyattii duratti,
qorbiidhaan qilleensatti isaan nan kenna.
Ani saba kootti gaddaa fi badiisa nan fida;
isaan karaa isaanii irraa hin deebineetii.
8 Ani haadhota hiyyeessaa isaanii
cirracha galaanaa caalaa nan baay’isa.
Ani haadhota dargaggoota isaaniitti,
guyyuma saafaadhaan
waan isaan balleessu tokko nan fida;
ani goolii fi naasuu
akkuma tasaa isaanitti nan gadhiisa.
9 Haati ilmaan torbaa gaggabdee
hafuura dhumaa baafatti.
Aduun ishee guyyuma adiidhaan dhiiti;
isheenis salphattee namaa gad taati.
Ani hambaawwan isaanii fuula diinota isaanii duratti
goraadeef dabarsee nan kenna”
jedha WAAQAYYO.

10 Wayyoo yaa haadha ko,
kan ana nama biyyattii guutuu
loluu fi falmu deesse?
Ani hin liqeessine yookaan hin liqeeffanne;
namni hundi garuu na abaara.
11 WAAQAYYO akkana jedhe;
“Ani dhugumaan kaayyoo gaariidhaaf sin baraara;
Ani dhugumaan yeroo rakkinaatii fi gidiraatti,
akka diinonni kee si kadhatan nan godha.

12 “Namni kam iyyuu sibiila,
sibiila kaabaa dhufe yookaan naasii cabsuu ni danda’aa?

13 “Sababii cubbuu kee hunda
kan biyya kee guutuu keessa jiru sanaatiif
ani badhaadhummaa keetii fi
qabeenya kee toluma boojuuf nan kenna.
14 Sababii dheekkamsi koo
ibidda ishee gubu qabsiisuuf,
ani biyya ati hin beekne keessatti
diinota keetiif sin garboomsa.”

15 Yaa WAAQAYYO situ beeka;
na yaadadhu; na tiksis.
Warra na ari’atan haaloo naaf ba’i.
Ati obsa guddaa qabdaatii na hin balleessin;
akka ani siif jedhee tuffatamu beeki.
16 Dubbiin kee ni argame; anis nan nyaadhe;
innis na gammachiise; gammachuu garaa kootiis ta’e;
yaa WAAQAYYO, Gooftaa Waan Hunda Dandeessu,
ani maqaa keetiin nan waamamaatii.
17 Ani gonkumaa tuuta fandalaltootaa wajjin hin teenye;

gonkumaa isaan wajjin hin gammanne;
sababii harki kee narra turee fi
sababii ati aariidhaan na guutteef ani kophaa koo nan taa'e.
18 Rakkinni koo maaliif dhuma dhabe?
Madaan koos maaliif fayyuu dide?
Ati akka laga nama gowwoomsuu
akka burqaa goguus natti taataa?
19 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha:
"Yoo ati qalbii jijjiirratte,
ani akka ati na tajaajiltuuf deebisee sin dhaaba;
Ati yoo dubbii faayidaa hin qabne
dhiiftee dubbii faayidaa qabu dubbatte afaan naaf taata.
Sabni kun gara keetti haa deebi'uu malee
ati gara isaaniitti deebi'uu hin qabdu.
20 Ani saba kanaaf dallaa dhagaa,
dallaa naasii kan jabeeffamee ijaarame sin taasisa;
isaan si lolu;
garuu si hin mo'atan;
ani si baraaruu fi si baasuuf si wajjin jiraatii"
jedha WAAQAYYO.
21 "Ani harka namoota hamoo jalaa sin baasa;
harka warra gara jabeeyyii jalaas sin fura."

# 16

*Guyyaa Badiisaa*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Ati iddoo kanatti
niitii fuutee ilmaan yookaan intallan hin dhalchin." 3 WAAQAYYO waa'ee ilmaanii
fi intallan iddoo kanatti dhalatanii, waa'ee dubartoota haadhota isaanii ta'aniitii fi
waa'ee dhiirota abbootii isaanii ta'anii akkana jedhaatii: 4 "Isaan dhukkuba nama
ajjeesuun dhumu. Isaan akkuma kosii lafatti gatamee ta'u malee boo'icha hin
argatan; hin awwaalamanis. Isaan goraadee fi beelaan dhumu. Reeffi isaaniis
allaattii samiitii fi bineensota lafaatiif nyaata ta'a."
5 WAAQAYYO akkana jedhaatii: "Ati mana boo'ichaa hin seenin yookaan dhaqxee
hin boo'in yookaan isaan hin jajjabeessin; ani eebba koo, jaalala kootii fi gara
laafina koo saba kana irraa fudhadheeraatii" jedha WAAQAYYO. 6 "Namni xinnaa
fi guddaan biyya kana keessatti ni du'a. Isaan hin awwaalaman yookaan boo'icha
hin argatan; namni tokko iyyuu isaaniif jedhee of hin murmuru yookaan mataa hin
haaddatu. 7 Namni tokko iyyuu warra namni irraa du'e jajjabeessuuf jedhee nyaata
hin geessuuf; yookaan namni tokko iyyuu nama abbaan yookaan haati jalaa duute
jajjabeessuuf jedhee dhugaatii hin geessu.
8 "Mana cidhi jiru hin seenin; nyaachuu fi dhuguuf jettees isaan wajjin hin taa'in.
9 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedhaatii: Ani ija keessan
durattii fi bara keessan keessa sagalee ililleetii fi gammachuu, sagalee misirrittiitii fi
misirrichaa iddoo kanaa nan balleessa.
10 "Yeroo ati waan kana hunda saba kanatti himtee isaan, 'WAAQAYYO maaliif
badiisa guddaa akkanaa nurratti labse? Nu maal balleessine? WAAQAYYO Waaqa
keenyattis cubbuu maalii hojjennee?' jedhanii si gaafatanitti, 11 akkana isaaniin
jedhi; 'Kun sababii abbootiin keessan na dhiisanii waaqota kaan duukaa bu'anii isaan
tajaajilanii fi isaan waaqeffataniif' jedha WAAQAYYO; 'isaan na dhiisan; seera koos hin
eegne. 12 Isin garuu abbootii keessan iyyuu caalaa hammaattaniirtu. Kunoo tokkoon

tokkoon keessan qooda anaaf ajajamuu mata jabina hammina garaa keessanii duukaa
buutaniirtuutii. 13 Kanaafuu ani biyya kana keessaa isin baasee, biyya isin yookaan
abbootiin keessan hin beeknetti isin nan gata; isinis achitti halkanii guyyaa waaqota
biraa tajaajiltu; ani isiniif hin na'uutii.'

14 "Ta'us" jedha WAAQAYYO, "barri itti namoonni si'achi, 'Dhugaa WAAQAYYO
jiraataa, isa biyya Gibxii Israa'eloota baase sanaa' jedhanii hin kakanne ni dhufa,
15 isaan garuu, 'Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa biyya kaabaatii fi biyyoota itti isaan
bittinneesse hunda keessaa baasee fide sanaa' ni jedhu. Ani biyya abbootii isaaniitiif
kenne sanatti isaan nan deebisaatii.

16 "Amma immoo ani akka isaan qurxummii qabdoota hedduu fidaniif namoota
nan erga" jedha WAAQAYYO; "isaanis jara ni qabu. Ergasii ani akka isaan adamsitoota
hedduu fidaniif namoota nan erga; isaanis tulluu hundaa fi gaara hunda irra,
baqaqaa kattaa hunda keessas jara ni adamsu. 17 Iji koo karaa isaanii hunda irra
jira; isaanis na duraa hin dhokatan; cubbuun isaaniis ija koo duraa hin dhokfamu.
18 Sababii isaan fakkiiwwan isaanii lubbuu dhabeeyyii faayidaa hin qabne sanaan
biyya koo xureessanii, waaqota isaanii jibbisiisoo sanaanis handhuuraa koo guutaniif
ani gatii hamminaa fi lubbuu isaaniitiif malu harka lama nan baasaaf."

19 Yaa WAAQAYYO, jabina kootii fi da'annoo ko,
da'oo koo kan yeroo rakkinaa,
ormoonni handaara lafaatii
gara kee dhufanii akkana jedhu,
"Abbootiin keenya waaqota sobaa, waaqota tolfamoo faayidaa hin qabne
kanneen waan gaarii tokko illee isaaniif hin goone sana malee
homaa hin dhaalle.
20 Namoonni ofii isaaniitiif waaqota ni tolfatuu?
Eeyyee, garuu isaan waaqota miti!"

21 "Kanaafuu ani isaan nan barsiisa;
yeroo kanatti ani humna koo fi
jabina koo isaan nan barsiisa.
Yoos isaan
akka maqaan koo WAAQAYYO ta'e ni beeku.

# 17

1 "Cubbuun Yihuudaa meeshaa sibiilaatiin qirixaameera;
qara dhagaatiinis
gabatee garaa isaanii irrattii fi
gaanfa iddoo aarsaa isaanii irratti barreeffameera.
2 Ijoolleen isaanii iyyuu
iddoowwan aarsaa isaaniitii fi siidaa Aasheeraa
kanneen mukkeen lalisaa cinaatii fi
gaarran ol dheeroo irraa sana yaadatan.
3 Ani sababii cubbuu biyya kee guute sanaatiif
tulluu koo kan biyya keessaa,
qabeenya keetii fi badhaadhummaa kee hunda
iddoo ol ka'aa kee wajjin
dabarsee boojuuf nan kenna.
4 Ati dogoggora mataa keetiitiin
dhaala ani siif kenne ni dhabda.
Ani biyya ati hin beekne keessatti
diinota keetiif sin garboomsa;

ati dheekkamsa koo qabsiifteertaatii;
innis bara baraan ni boba'a."
5 WAAQAYYO akkana jedha:
"Namni nama amanatu,
kan jabina foonii irree isaa godhatu,
kan garaan isaa WAAQAYYO irraa garagalu abaaramaa dha.
6 Inni akka daggala gammoojjii keessaa ta'a;
yeroo wanni gaariin dhufutti hin argu.
Inni gammoojjii keessaa iddoo gogaa
biyya soogiddaa kan namni tokko iyyuu hin jiraanne keessa jiraata.

7 "Namni WAAQAYYOON amanatu,
kan abdiin isaas isuma ta'e garuu eebbifamaa dha.
8 Inni akkuma muka qarqara bishaanii dhaabame,
kan hidda isaa ededa lagaa irra yaafatuu ta'a.
Yommuu ho'i dhufu hin sodaatu;
baalli isaa yeroo hunda lalisaa dha.
Mukni sun bara hongee illee hin yaadda'u;
ija naqachuus hin dhiisu."

9 Garaan namaa waan hunda caalaa haxxee dha;
garmalees hamaa dha.
Eenyutu isa hubachuu danda'a?

10 "Ani WAAQAYYO nama hundaaf akkuma amala isaatti,
akkuma waan hojii isaatiif maluutti
gatii isaaf kennuuf garaa isaa nan sakatta'a;
qalbii isaas nan qora."

11 Namni karaa hin malleen badhaadhummaa walitti qabatu
akkuma gogorrii hanqaaquu hin hanqaaqin hammattu ti.
Walakkaa umurii isaatti badhaadhummaan sun isa dhiisee bada;
dhuma irrattis gowwaa ta'uun isaa ni mirkaneeffama.

12 Teessoon ulfina qabeessi durumaa jalqabee ol ol jedhu sun,
iddoo qulqullummaa keenyaa ti.
13 Yaa WAAQAYYO, abdii Israa'el,
warri si dhiisan hundi ni qaaneffamu.
Warri sirraa garagalan biyyoo keessatti galmeeffamaniiru;
isaan WAAQAYYOON
burqaa bishaan jireenyaa dhiisaniiruutii.

14 Yaa WAAQAYYO na fayyisi; anis nan fayyaa;
na oolchi, anis nan oolfama;
kan ani jajadhu sumaatii.
15 Isaan ittuma fufanii,
"Dubbiin WAAQAYYOO eessa jira?
Mee amma haa raawwatamu!" naan jedhu.
16 Ani tiksee ta'ee si tajaajiluu irraa duubatti hin deebine;
ati akka ani guyyaa badiisaa hin hawwine ni beekta.
Wanni afaan kootii ba'u fuuluma kee dura jira.

17 Ati na hin rifachiisin;
guyyaa badiisaatti ati da’oo koo ti.
18 Warri na adamsan haa qaaneffaman;
ana garuu qaanii irraa na oolchi;
isaan haa rifatan;
ana garuu rifaatii irraa na eegi.
Guyyaa badiisaa isaanitti fidi;
badiisa dachaatiin isaan balleessi.

*Sanbata Kabajuu*

19 WAAQAYYO akkana naan jedhe: “Dhaqiitii karra uummataa karaa mootonni
Yihuudaa ittiin seenanii ba’an dura dhaabadhu; akkasumas karrawwan Yerusaalem
kaan hunda dura dhaabadhu. 20 Akkanas isaaniin jedhi; ‘Yaa mootota Yihuudaa,
sabni Yihuudaa hundii fi namoonni Yerusaalem keessa jiraattan kanneen karra
kanaan ol galtan hundi dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa. 21 WAAQAYYO akkana jedha:
Akka guyyaa Sanbataatiin ba’aa hin baanne yookaan karrawwan Yerusaalemiin
ol hin galchine of eeggadhaa. 22 Akkuma ani abbootii keessan ajajetti guyyaa
Sanbataa kabajaa malee guyyaa Sanbataatiin mana keessanii ba’aa gad hin baasinaa
yookaan hojii kam iyyuu hin hojjetinaa. 23 Ta’us isaan hin dhaggeeffanne yookaan
hin qalbeeffanne; garuu akka hin dhageenyee fi akka qajeelfama hin fudhanneef
mataa jabaatan. 24 WAAQAYYO akkana jedha; yoo isin na dhageessanii guyyaa
Sanbataatiin ba’aa tokko illee karrawwan magaalaa kanaatiin ol galchuu dhiiftanii
qooda kanaa gaafas hojii kam iyyuu hojjechuu dhiisuudhaan guyyaa Sanbataa
addaan baaftanii eegdan, 25 mootonni teessoo Daawit irra taa’an qondaaltota isaanii
wajjin karrawwan magaalaa kanaatiin ol seenu. Isaanis qondaaltota isaanii wajjin
gaariiwwanii fi fardeen yaabbatanii namoota Yihuudaatii fi warra Yerusaalem keessa
jiraatan wajjin ni dhufu; magaalaan kunis magaalaa namni bara baraan keessa
jiraatu ni ta’a. 26 Namoonnis magaalaawwan Yihuudaatii fi gandoota naannoo
Yerusaalemiitii, biyya Beniyaamiitii fi biyya gaara keessaatii, biyya gaaraatii fi
Negeebii aarsaa gubamuu fi qalma, aarsaa midhaanii, ixaanaa fi aarsaa galataa
fidanii gara mana WAAQAYYOO ni dhufu. 27 Yoo isin guyyaa Sanbataa addaan
baaftanii eeguuf jettanii guyyaa Sanbataatiin ba’aa tokko iyyuu baattanii karrawwan
Yerusaalemiin ol seenuu dhiisuudhaan anaaf ajajamuu baattan garuu ani ibidda hin
dhaamne tokko karrawwan Yerusaalemitti nan qabsiisa; ibiddi sunis da’annoowwan
Yerusaalem gubee barbadeessa.’ ”

# 18

*Mana Namicha Suphee Dha’u Tokkootti*

1 Dubbiin WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe isa kanaa dha: 2 “Ka’iitii gara
mana namicha suphee dha’u sanaa dhaqi. Anis achitti dubbii koo sitti nan hima.”
3 Kanaafuu ani gara mana namicha suphee dha’u sanaatti gad nan bu’e; innis geengoo
irratti waa hojjechaa ture. 4 Okkoteen inni suphee irraa hojjechaa ture sun garuu
harka isaatti fashalaa’e; kanaafuu namichi suphee dha’u sun akkuma itti toletti
suphee sanaan okkotee kan biraa hojjete.
5 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 6 “Yaa mana Israa’el,
anis akkuma suphee dhooftuun kun hojjetu isin gochuu hin danda’uu?” jedha
WAAQAYYO. “Yaa mana Israa’el, akkuma supheen harka suphee dhooftuu keessa
jiru isinis harka koo keessa jirtu. 7 Yeroo ani akka sabni yookaan mootummaan
tokko buqqifamu, gargar qoodamuu fi barbadeeffamu labsutti, 8 yoo sabni ani
akeekkachiise sun hammina isaa irraa deebi’e, ani waan hamaa isatti fiduuf
yaade sana irraa nan deebi’a. 9 Yoo ani yeroo biraa immoo akka sabni yookaan

mootummaan tokko ijaaramee dhaabamu labse, 10 yoo inni fuula koo duratti waan
hamaa hojjetee anaaf ajajamuu dide, ani waan gaarii isaaf gochuu barbaade sana
nan dhiisa.
11 "Kanaafuu amma saba Yihuudaatii fi warra Yerusaalem keessa jiraataniin
akkana jedhi; 'WAAQAYYO akkana jedha: Kunoo! Ani badiisa isiniif qopheesseen mala
isinitti karoorsaa jira. Kanaafuu tokkoon tokkoon keessan karaa keessanii fi hojii
keessan qajeelfadhaa.' 12 Isaan garuu akkana jedhanii deebii kennan: 'Kun faayidaa
hin qabu. Nu karooruma keenyaan itti fufna; tokkoon tokkoon keenya mata jabinaa
fi hammina garaa keenyaa duukaa buuna.' "
13 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha:

"Mee saboota keessa iyyaafadhaa:
Eenyutu takkumaa waan akkanaa dhaga'ee beeka?
Israa'el Durbi Qulqullittiin
waan suukaneessaa tokko hojjetteerti.
14 Cabbiin Libaanoon
takkumaa ededa kattaa isaa irraa badee beekaa?
Bishaan isaa diilallaa'aan burqaa fagootii dhufu sun
takkumaa citee beekaa?
15 Sabni koo garuu na irraanfateera;
isaan waaqota tolfamoo faayidaa hin qabne
kanneen karaawwan isaanii irrattii fi
daandiiwwan durii irratti isaan gufachiisaniif
ixaana aarsu.
Isaan karaa hin tolfamne irra
daandii qal'oo irra isaan deemsisaniiru.
16 Biyyi isaanii ni ona;
bara baraanis biyya qoosaa ta'a;
warri achiin darban hundi ni na'u;
mataa isaaniis ni raasu.
17 Akkuma bubbee ba'a biiftuutii dhufuu,
ani fuula diinota isaanii duratti isaan nan bittinneessa;
bara badiisa isaanii keessa,
ani dugda koo malee fuula koo isaanitti hin argisiisu.

18 "Jarris, 'Seerri luba biraa, gorsi ogeeyyii biraa, dubbiin immoo raajota biraa
waan hin dhabamneef kottaa Ermiyaasitti mari'annaa; kanaafuu kottaa nu arraba
keenyaan isa miinaa; waan inni dubbatu kam iyyuus hin fudhannu' " jedhan.

19 Yaa WAAQAYYO, na dhaggeeffadhu;
waan warri na himatan jedhanis dhaga'i!
20 Gatiin waan gaarii waan hamaadhaa?
Isaan garuu boolla anaaf qotaniiru.
Ani akkan dheekkamsa kee isaan irraa
deebisuuf fuula kee dura dhaabadhee
iddoo isaanii bu'ee dubbadhe yaadadhu.
21 Kanaafuu ati ijoollee isaanii dabarsii beelatti kenni;
jara immoo dabarsii humna goraadeetti kenni.
Niitota isaanii jalaa ijoollee fi dhirsoonni haa dhuman;
dhiironni isaanii haa ajjeefaman;
dargaggoonni isaanii immoo lola keessatti goraadeedhaan haa qalaman.
22 Yeroo ati akkuma tasaa weeraartoota isaanitti fiddutti,
iyyi mana isaaniitii haa dhaga'amu;
isaan na qabuuf boolla qotanii,
miilla kootiifis kiyyoo kaa'aniiruutii.

[23] Yaa WAAQAYYO, ati garuu mala isaan na ajjeesuuf
malatan hunda ni beekta.
Yakka isaanii hin dhiisiniif;
yookaan cubbuu isaanii fuula kee duraa hin haqin.
Isaan fuula kee duratti lafatti haa gataman;
yeroo dheekkamtuttis isaan adabi.

# 19

[1] WAAQAYYO akkana jedha; "Dhaqiitii suphee dhooftuu irraa okkotee suphee
bitadhu. Maanguddoota sabaatii fi luboota keessaa namoota muraasa fudhadhuutii,
[2] gara Sulula Ben Hinoomitti kan balbala karra qiraacii biraa sana dhaqi. Achittis
dubbii ani sitti himu labsi; [3] akkanas jedhi; 'Yaa moototа Yihuudaatii fi saba
Yerusaalem dubbii WAAQAYYOO dhaga'aa. WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni
Israa'el akkana jedha: Dhaggeeffadhaa! Kunoo, ani balaa gurra nama waan sana
dhaga'u hundatti hin tolle tokko iddoo kanatti nan fida. [4] Isaan na dhiisanii
iddoo kana iddoo waaqota ormaa godhaniiruutii; iddoo kanattis waaqota isaanii
yookaan abbootiin isaanii yookaan mootonni Yihuudaa hin beekiniif aarsaa gubamu
dhi'eessaniiru; iddoo kanas dhiiga namoota balleessaa hin qabneetiin guutaniiru.
[5] Isaan ilmaan isaanii aarsaa ibiddaan gubamu godhanii Ba'aaliif dhi'eessuuf iddoo
ol ka'aa Ba'aaliif ijaaraniiru; kunis waan ani isaan hin ajajin yookaan maqaa hin
dha'in yookaan yaada koo keessa iyyuu hin turinii dha. [6] Kanaafuu beekkadhaa;
barri itti namoonni iddoo sanaan, si'achi Sulula Qalmaa jedhanii waamuu malee
Toofet yookaan Sulula Ben Hinoom hin jenne ni dhufa, jedha WAAQAYYO.

[7] " 'Ani iddoo kanatti karoora Yihuudaatii fi karoora Yerusaalem nan diiga;
akka isaan fuula diinota isaanii duratti, harka warra lubbuu isaanii galaafachuu
barbaadaniitti goraadeedhaan dhuman nan godha; reeffa isaanii immoo allaattii
samiitii fi bineensota lafaatiif nyaata godhee nan kenna. [8] Ani magaalaa kana onsee
waan sodaa fi qoosaa nan godha; kan achiin darbu hundi sababii madaa ishee
hundaatiif dinqisiifatee isheetti kolfa. [9] Ani akka isaan foon ilmaan isaaniitii fi
intallan isaanii nyaatan nan godha; isaanis yeroo diinonni isaanii kanneen lubbuu
isaanii galaafachuu barbaadan sun marsanii isaan dhiphisanitti foon walii isaanii
nyaatu.'

[10] "Ergasii okkotee sana fuula warra si wajjin deemanii duratti cabsiitii [11] akkana
isaaniin jedhi; 'WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: Akkuma okkoteen
suphee dhooftuu kun erga caccabee booddee deebi'ee haaromfamuu hin dandeenye
sana ani saba kanaa fi magaalaa kana nan caccabsa; sababii iddoon itti nama
awwaalan biraa hin jirreef namoonni Toofetitti reeffa awwaalu. [12] Ani iddoo kanaa
fi warra as jiraatanitti waan kana nan fida, jedha WAAQAYYO. Magaalaa kanas
akkuma Toofet nan godha. [13] Manneen Yerusaalem keessaatii fi manneen mootota
Yihuudaa jechuunis manneen jarri bantii isaanii irratti urjiiwwan samii hundaaf
ixaana aarsanii waaqota biraafis dhibaayyuu dhibaafatan sun hundi akkuma iddoo
Toofet kanaa ni xureeffamu.' "

[14] Ermiyaasis ergasii Toofet iddoo WAAQAYYO akka inni achitti raajii dubbatuuf itti
isa erge sanaa deebi'ee oobdii mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa dhaabatee
saba hundaan akkana jedhe; [15] "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el
akkana jedha; 'Mee dhaggeeffadhaa! Sababii isaan mata jabeeyyii ta'anii dubbii koo
dhaga'uu didaniif balaa ani isaanitti labsee ture hunda magaalaa kanaa fi gandoota
naannoo ishee jiranitti nan fida.' "

# 20

*Ermiyaasii fi Phaashihuur*

1 Phaashihuur lubichi, ilmi Imeerii inni mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti
bulchaa hangafa ture sun yommuu Ermiyaasii waan kana raaju dhaga'etti, 2 akka
Ermiyaas raajichi tumamee Karra Beniyaam isa ol aanu kan mana WAAQAYYOO
biratti argamu sana keessatti miilli isaa jirma lama gidduu galee hidhamu godhe.
3 Ermiyaasis guyyaa itti aanu yeroo Phaashihuur jirma lamaan gidduudhaa isa
baasetti akkana jedheen; "Maqaan WAAQAYYO siif baase Maagormiisaabiib malee
Phaashihuur miti. 4 WAAQAYYO akkana jedhaatii; 'Ani akka ati ofii keetii fi michoota
keetti sodaachisaa taatu sin godha; yeroo isaan goraadee diinota isaaniitiin dhuman
ijuma keetiin argita. Ani Yihuudaa hunda dabarsee mootii Baabiloniitti nan kenna;
innis Baabilonitti isaan geessa yookaan goraadeedhaan isaan fixa. 5 Ani qabeenya
magaalaa kanaa hunda jechuunis oomisha ishee hunda, waan gatii guddaa qabu
hundaa fi badhaadhummaa mootota Yihuudaa hunda dabarsee diinota isaaniitti nan
kenna. Isaanis booji'anii fudhatanii Baabilonitti isaan geessan. 6 Yaa Phaashihuur ati,
warri mana kee jiraatan hundis booji'amtanii Baabilonitti geeffamtu. Atii fi michoota
kee warri ati raajii sobaa dubbatteef hundi achitti duutanii awwaalamtu.' "

*Gungummii Ermiyaas*

7 Yaa WAAQAYYO, ati na gowwoomsite;
anis nan gowwoomfame;
ati humnaan na caaltee na mo'atte.
Ani guyyaa guutuu waan kolfaa nan ta'e;
namni hundis natti qoosa.
8 Ani yeroon dubbadhu hunda nan iyya;
"Goolii, badiisa" jedhees nan labsa.
Kanaafuu dubbiin WAAQAYYO
guyyaa guutuu arrabsoo fi tuffii natti fide.
9 Garuu yoo ani, "Ani maqaa isaa hin dha'u
yookaan si'achi maqaa isaatiin hin dubbadhu" jedhe,
dubbiin isaa onnee koo keessatti akka ibiddaa,
akkuma ibidda lafee koo keessatti ukkaamsameera.
Ani of keessatti isa qabachuu nan dadhabe;
dhuguma iyyuu ani hin danda'u.
10 Ani hasaasa, "Karaa hundaan sodaa!
Isa balaaleffadhaa! Isa haa balaaleffannu!"
jedhu hedduu nan dhaga'a.
Michoonni koo hundi,
"Inni ni gowwoomfama ta'a;
nus ergasii isa ni mo'anna;
haaloo keenya illee ni baafanna" jechaa
kufaatii koo eeggatu.

11 WAAQAYYO garuu akkuma goota humna qabeessa tokkootti
na wajjin jira;
kanaafuu warri na adamsan ni gufatu malee hin mo'atan.
Isaan baay'ee qaaneffaman; hin milkaa'aniitii;
salphinni isaanii gonkumaa hin irraanfatamu.
12 Yaa WAAQAYYOO Waan Hunda Dandeessu,
kan nama qajeelaa qortu,
kan garaa fi yaada namaa keessa argitu,

ani falmii koo sitti kennadheeraatii
ati yeroo isaanitti haaloo baatu na argisiisi.

13 WAAQAYYOOF faarfadhaa!
WAAQAYYOON galateeffadhaa!
Inni lubbuu namoota hiyyeeyyii
harka hamootaatii ni baasa.

14 Guyyaan ani dhaladhe haa abaaramu!
Guyyaan haati koo na deesse sunis hin eebbifamin!
15 Namichi, “Daa’imni tokko jechuunis
ilmi siif dhalatee jira!” jedhee abbaa kootiif oduu fidee
akka malee isa gammachiise sun haa abaaramu!
16 Namichi sun akkuma magaalaawwan
WAAQAYYO gara laafina malee garagalchee haa ta’u.
Inni ganamaan wawwaannaa,
saafaan immoo iyya waraanaa haa dhaga’u.
17 Akka haati koo awwaala naa taatuuf,
akka gadameessi ishees iddoo jireenya bara baraa naaf ta’uuf
inni utuu ani gadameessa keessaa hin ba’in na hin ajjeefneetii.
18 Ani maaliifan rakkinaa fi gadda arguuf
jireenya koos qaaniin fixuuf
gadameessa keessaa ba’e?

# 21

*Deebii Zedeqiyaaf Kenname*

1 Yeroo Zedeqiyaa Mootichi Phaashihuur ilma Malkiyaatii fi Sefaaniyaa lubicha
ilma Ma’aseyaa gara Ermiyaasitti ergetti dubbiin akkana jedhu WAAQAYYO biraa gara
Ermiyaas dhufe. Jarri ergamanis akkana jedhan; 2 “Sababii Nebukadnezar mootichi
Baabilon nu waraanaa jiruuf WAAQAYYOON nuu gaafadhu. Tarii WAAQAYYO akkuma
duraan godhe sana hojiiwwan dinqii nuuf hojjetee akka mootichi nurraa deebi’u ni
godha ta’aatii.”
3 Ermiyaas garuu akkana isaaniin jedhe; “Zedeqiyaadhaan akkana jedhaa;
4 ‘WAAQAYYO Waaqni Israa’el akkana jedha: Ani mi’oota waraanaa harka keessan
jiran, kanneen isin ittiin mootii Baabilonii fi Baabilonota isin marsanii dallaan ala
jiran loluuf itti fayyadamtan kana isinitti nan garagalcha. Anis magaalaa kana
keessatti isaan walitti nan qaba. 5 Ani mataan koo harka diriirfamee fi irree
jabaadhaan, aarii boba’uu fi dheekkamsa guddaadhaan waraana isinitti nan bana.
6 Ani waan magaalaa kana keessa jiraatu jechuunis namaa fi horii nan dha’a; isaanis
dha’icha hamaadhaan dhumu. 7 Anis ergasii, jedha WAAQAYYO, Zedeqiyaa mooticha
Yihuudaa, qondaaltota isaatii fi jiraattota magaalaa kanaa kanneen dha’icha jalaa,
goraadee fi beela jalaa ba’an Nebukadnezar mooticha Baabilonii fi diinota isaanii
kanneen lubbuu isaanii balleessuu barbaadanitti dabarsee nan kenna. Mootichis
goraadeedhaan isaan fixa; inni isaaniif hin hilu yookaan hin na’uuf yookaan garaa
hin laafuuf.’
8 “Amma illee akkana jedhii saba kanatti himi; WAAQAYYO akkana jedha: ‘kunoo,
ani karaa jireenyaatii fi karaa du’aa fuula keessan dura nan kaa’a. 9 Namni magaalaa
kana keessatti hafu kam iyyuu goraadeedhaan, beelaan yookaan dha’ichaan du’a.
Namni gad ba’ee Baabilonota isin marsanii jiranitti harka kennatu kam iyyuu garuu
ni jiraata; lubbuu isaas ni oolfata. 10 Ani magaalaa kanaaf waan gaarii gochuuf utuu

hin ta’in ishee miidhuuf kutadheera, jedha WAAQAYYO. Isheenis dabarfamtee harka mootii Baabilonitti ni kennamti; inni immoo ibiddaan ishee barbadeessa.’
11 “Akkasumas mana mootii Yihuudaatiin akkana jedhi; ‘Isin dubbii WAAQAYYOO
dhaga’aa; 12 Yaa mana Daawit, WAAQAYYO akkana jedha:
“ ‘Ganama hunda murtii qajeelaa kennaa;
nama saamame tokko
harka nama isa cunqursuutii baasaa;
yoo kanaa achii sababii jal’ina isin hojjettaniitiif
dheekkamsi koo bu’ee akkuma ibiddaa boba’a;
namni isa dhaamsu tokko iyyuu hin jiraatu.
13 Yaa ishee sulula kanaan ol dirree kattaa qabu irra jiraattu,
ani sitti ka’een jira, jedha WAAQAYYO;
isin warri, “Eenyuttu nutti dhufuu danda’a?
Eenyutus da’annoo keenya seenuu danda’a?” jettan,
14 ani akkuma hojii keessaniif malutti isinan adaba,
jedha WAAQAYYO.
Ani ibidda waan naannoo keessan jiru hunda barbadeessu
bosona keessanitti nan qabsiisa.’ ”

# 22

*Murtii Mootota Hamootti Murame*

1 WAAQAYYO akkana jedha: “Gara masaraa Mootii Yihuudaatti gad bu’iitii akkana
jedhii ergaa kana achitti labsi; 2 ‘Yaa Mootii Yihuudaa, ati kan teessoo Daawit irra
teessu, ati, qondaaltonni keetii fi sabni kee warri karra kanaan ol galtan dubbii
WAAQAYYOO dhaga’aa. 3 WAAQAYYO akkana jedha: Waan qajeelaa fi sirrii ta’e
hojjedhaa. Nama saamame tokko harka nama isa cunqursuutii baasaa. Alagaatti,
ijoollee abbaa hin qabnetti yookaan haadha hiyyeessaatti daba yookaan jal’ina hin
hojjetinaa; dhiiga nama balleessaa hin qabnees iddoo kanatti hin dhangalaasinaa.
4 Yoo isin ajajawwan kanneen sirriitti eegdan mootonni teessoo Daawit irra
taa’an, qondaaltotaa fi saba isaanii wajjin gaarii moototaatii fi fardeen yaabbatanii
karrawwan masaraa mootummaa kanaan ol galu. 5 Yoo isin ajajawwan kanneen
eeguu baattan garuu akka masaraan mootummaa kun barbadeeffamu ani maqaa
kootiin kakadheera, jedha WAAQAYYO.’ ”
6 WAAQAYYO waa’ee masaraa mootii Yihuudaa akkana jedhaatii:
“Ati akka Gili’aad,
akka fiixee Libaanoon naaf taate iyyuu,
ani dhugumaan akka gammoojjii,
akka magaalaawwan namni keessa hin jiraannee sin taasisa.
7 Ani balleessitoota tokkoon tokkoon isaanii
mi’a lolaa qabatan, sitti nan erga;
isaanis birbirsa kee filatamaa ni ciru;
ibiddattis ni naqu.
8 “Namoonni biyya hedduus yommuu magaalaa kana biraan darbanitti, ‘WAAQAYYO
maaliif magaalaa guddaa kanatti waan akkanaa fide?’ jedhanii wal gaafatu. 9 Isaanis,
‘Sababii isaan kakuu WAAQAYYO Waaqa isaanii dhiisanii waaqota biraa waaqeffatanii
tajaajilaniifii dha’ jedhanii deebisu.”
10 Isin nama du’eef hin boo’inaa yookaan hin gaddinaa;
qooda kanaa nama booji’ameef hiqqifadhaa boo’aa;
inni lammata hin deebi’u
yookaan biyya itti dhalate hin arguutii.

11 WAAQAYYO waa'ee Shaluum ilma Yosiyaas kan qooda abbaa isaa mootii Yihuudaa
ta'ee garuu iddoo kanaa deeme sanaa akkana jedhaatii: "Inni gonkumaa hin deebi'u.
12 Inni iddoo booji'amee itti geeffame sanatti du'a; biyya kanas lammaffaa hin argu."
13 "Nama ollaa isaa utuu gatii humna isaa hin kenniniif
akkasumaan hojjechiifachuudhaan
mana isaa karaa qajeelaa hin ta'iniin,
kutaa isaa kan mana gubbaa immoo karaa sirrii hin ta'iniin
ijaarratuuf wayyoo.
14 Inni, 'Ani masaraa guddaa tokko,
kutaa mana gubbaa bal'aa isaa wajjin
ofii kootiif nan ijaarradha' jedha.
Kanaafuu inni foddaawwan itti baasee
muka birbirsaatiin bareechee
halluu diimaadhaan miidhagsa.

15 "Birbirsa hedduu qabaachuun kee mootii si taasisaa?
Abbaan kee nyaataa dhugaatii hin qabu turee?
Inni waan qajeelaa fi haqa hojjete;
kanaafuu wanni hundinuu ni qajeeleef.
16 Inni hiyyeeyyii fi rakkattootaaf ni falme;
kanaafuu wanni hundi ni qajeeleef.
Na beekuu jechuun kanuma mitii?"
jedha WAAQAYYO.
17 Iji keetii fi garaan kee garuu
bu'aa karaa hin maliniin argamu irra,
dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasuu irra,
cunqursaa fi goolii kaasuu qofa irra bu'eera.
18 Kanaafuu WAAQAYYO waa'ee Yehooyaaqiim mooticha Yihuudaa, ilma Yosiyaas
akkana jedha:
"Isaan, 'Anaaf wayyoo, yaa obboleessa koo!
Anaaf wayyoo, yaa obboleettii koo!'
jedhanii hin boo'aniif.
Isaan, 'Anaaf wayyoo, yaa gooftaa koo!
Anaaf wayyoo yaa ulfina isaa!'
jedhanii hin boo'aniif.
19 Inni awwaala harree argata,
jechuunis lafa irra harkifamee
karrawwan Yerusaalem keessaa gad baafamee gatama."

20 "Libaanoonitti ol ba'ii iyyi;
sagaleen kee Baashaan keessatti haa dhaga'amu;
Abaariim keessaas iyyi;
michoonni kee hundi barbadeeffamaniiruutii.
21 Ani yeroo ati nagaa qabdutti si akeekkachiiseen ture;
ati garuu, 'Ani hin dhaggeeffadhu!' jette.
Kun ijoollummaa keetii jalqabee amala kee ture;
ati naaf hin ajajamne.
22 Tiksoota kee hunda bubbeen fudhatee sokka;
michoonni kees ni booji'amu.
Sababii hammina kee hundaatiif
ati ni qaanofta; ni salphattas.

23 Ati kan Libaanoon keessa jiraattu,
kan muka birbirsaatiin mana ijaarrattu,
yeroo dhiphinni si qabee akkuma dubartii ciniinsifattu tokkoo
miixattutti ati akkam aadda!
24 "Akkuma ani dhugumaan jiraataa ta'e" jedha WAAQAYYO; "Yaa Yehooyaakiin
mooticha Yihuudaa, ilma Yehooyaaqiim, yoo ati qubeelaa chaappaa harka koo mirgaa
taatee illee ani baaseen si gata. 25 Ani warra lubbuu kee galaafachuu barbaadanitti,
warra ati sodaattu jechuunis Nebukadnezar mooticha Baabilonii fi Baabilonotatti
dabarsee sin kenna. 26 Ani si'ii fi haadha si deesse biyya biraatti, biyya tokkoon
keessan iyyuu itti hin dhalatinitti isin nan darbadhaa; isin lachuu achitti duutu. 27 Isin
biyya itti deebi'uu hawwitanitti gonkumaa hin deebitan."
28 Yehooyaakiin kun nama akkuma okkotee cabaa tuffatame,
mi'a namni tokko iyyuu hin barbaanneedhaa?
Ijoolleen isaatii fi inni maaliif
darbatamanii biyya hin beeknetti gatamani?
29 Yaa lafaa, yaa lafaa, yaa lafaa,
dubbii WAAQAYYOO dhaga'i!
30 WAAQAYYO akkana jedha:
"Namicha kana akka nama ijoollee hin qabne tokkootti,
akka nama bara jireenya isaa keessa hin milkoofne tokkootti galmeessaa;
sanyii isaa keessaa namni tokko iyyuu hin milkaa'u,
namni tokko iyyuu teessoo Daawit irra hin taa'u,
yookaan si'achi Yihuudaa hin bulchuutii."

# 23

*Damee Qajeelaa*

1 "Tiksoota hoolota karra koo balleessanii bittinneessiniif wayyoo!" jedha
WAAQAYYO. 2 Kanaafuu WAAQAYYO Waaqni Israa'el tiksoota saba koo tiksaniin akkana
jedha: "Waan isin bushaayee koo bittinneessitanii ariitanii fi eegumsa barbaachisu
isaaniif hin godhiniif ani kunoo hammina isin hojjettaniif adabbii isinittin fida" jedha
WAAQAYYO. 3 "Ani mataan koo hambaa bushaayee kootii biyyoota ani itti isaan ari'ee
ture hunda keessaa walitti qabee karra isaaniitti nan deebisa; isaanis achitti ni horu;
ni baay'atus. 4 Anis tiksoota isaan tiksan isaaniif nan ramada; isaanis si'achi hin
sodaatan; yookaan hin rifatan, yookaan isaan keessaa tokko iyyuu hin badu" jedha
WAAQAYYO.
5 "Barri ani itti Daawitiif damee qajeelaa tokko,
mootii ogummaadhaan bulchuu fi
waan sirrii fi qajeelaa ta'e
biyya kana keessatti hojjetu tokko kaasu ni dhufa"
jedha WAAQAYYO.
6 Bara isaa keessa Yihuudaan ni fayya;
Israa'elis nagaan jiraata;
maqaan inni ittiin waamamus:
WAAQAYYO Qajeelummaa Keenya jedhama.
7 "Kanaafuu barri itti namoonni si'achi, 'Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa Israa'eloota
Gibxii baasee fide sanaa' hin jenne tokko ni dhufa" jedha WAAQAYYO; 8 "Isaan garuu,
'Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa biyya Kaabaatii fi biyyoota itti isaan ari'ee ture hunda
keessaa sanyiiwwan Israa'el baasee fide sanaa' jedhu. Ergasiis isaan biyya ofii isaanii
keessa ni jiraatu."

### *Raajota Sobduu*

9 Waa’ee raajotaa,
onneen koo na keessatti cabeera,
lafeen koo hundi ni hollata;
sababii WAAQAYYOOTII fi
sababii dubbii isaa qulqulluu sanaatiif
ani akkuma nama machaa’ee
akka nama daadhii wayiniitiin mo’atamee nan ta’e.
10 Biyyattiin ejjitootaan guutamteerti,
sababii abaarsaatiif biyyattiin ni boossi;
kaloon gammoojjii keessaas ni goga.
Raajonni karaa hamaa duukaa bu’u;
aangoo isaaniittis karaa malee fayyadamu.

11 “Raajonnis, lubnis Waaqaaf hin bulan;
ani mana koo keessatti iyyuu hammina isaanii argeera”
jedha WAAQAYYO.
12 “Kanaafuu karaan isaanii mucuca ta’a;
isaan dukkanatti gad darbatamu;
achittis ni kufu.
Bara isaan adabaman keessa,
ani badiisa isaanitti nan fida”
jedha WAAQAYYO.

13 “Raajota Samaariyaa gidduutti,
ani waan jibbisiisaa kana argeera:
Isaan maqaa Ba’aaliin raajanii
saba koo Israa’elin karaa irraa jal’isan.
14 Raajota Yerusaalem gidduutti
ani waan nama suukaneessu tokko argeera;
isaan ni ejju; sobaan jiraatus.
Akka namni tokko iyyuu hammina isaa irraa hin deebineef
isaan harka jal’ootaa jajjabeessu.
Isaan hundi anaaf akkuma Sodoom;
sabni Yerusaalem immoo akkuma Gomoraa ti.”
15 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u waa’ee raajotaa akkana jedha:
“Sababii raajota Yerusaalemiif,
waan xuraa’ummaan biyyattii keessa guuteef
ani akka isaan nyaata hadhaa’aa
nyaatanii bishaan summaa’es dhugan nan godha.”
16 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Waan raajonni isinii raajan hin dhaggeeffatinaa;
isaan abdii sobaatiin isin guutu.
Isaan utuu afaan WAAQAYYOOTII hin ta’in
mul’ata yaada ofii isaanii dubbatu;
yaada isaanii keessaa fuudhanii mul’ata dubbatu.
17 Isaan ittuma fufanii warra na tuffataniin,
‘WAAQAYYO akkana jedha: isin nagaa ni qabaattu’ jedhu.
Warra mata jabina yaada ofii isaanii
duukaa bu’an hundaan immoo, ‘Hamaan isin hin argatu’ jedhu.
18 Garuu isaan keessaa namni dubbii isaa arguuf yookaan dhaga’uuf

waldaa WAAQAYYOO keessa dhaabate eenyu?
Namni dubbii isaatiif gurra kennee dhaga'e eenyu?
19 Kunoo bubbeen WAAQAYYOO,
dheekkamsaan ni bu'a;
bubbeen hamaanis
mataa hamootaa irratti gad bubbisa.
20 Dheekkamsi WAAQAYYOO
hamma inni kaayyoo yaada garaa isaa
guutumaan guutuutti raawwatutti duubatti hin deebi'u.
Isin bara dhumaa keessa
waan kana akka gaariitti ni hubattu.
21 Ani raajota kanneen hin ergine;
isaan garuu ergaa ofii isaanii qabatanii fiiganiiru;
ani isaanitti hin dubbanne;
isaan garuu raajii dubbataniiru.
22 Isaan utuu waldaa koo keessa dhaabatanii jiraatanii
silaa dubbii koo saba kootti labsanii,
karaa isaanii jal'aa sanaa fi
hojii isaanii hamaa sana irraa isaan deebisu ture.

23 "Ani Waaqa fagootis malee
Waaqa dhi'oo qofaa?"
jedha WAAQAYYO.
24 "Namni tokko iyyuu akka ani isa arguu hin dandeenyeef
iddoo dhoksaa ta'e dhokachuu ni danda'a?"
jedha WAAQAYYO.
"Ani samii fi lafa illee nan guuta mitii?"
jedha WAAQAYYO.
25 "Ani waan raajonni maqaa kootiin soba raajan sun jedhan dhaga'eera; isaanis,
'Ani abjuu abjoodheera! Ani abjuu abjoodheera!' jedhu. 26 Wanni akkasii kun
hamma yoomiitti garaa raajota yaaduma ofii isaanii keessaa fuudhanii soba dubbatan
kanneenii keessa jiraata? 27 Raajonni kunneen abjuu walitti odeessaniin akka sabni
koos akkuma abbootiin isaanii Ba'aalin waaqeffachuudhaan maqaa koo irraanfatanii
turan sana maqaa koo irraanfachiisuu yaadu. 28 Raajiin abjuu qabu abjuu isaa haa
dubbatu; namni dubbii koo qabu immoo amanamummaadhaan haa dubbatu. Cidiin
midhaan irraa maal qaba?" jedha WAAQAYYO. 29 "Dubbiin koo akkuma ibiddaatii fi
akkuma burruusa kattaa caccabsu tokkoo mitii?" jedha WAAQAYYO.
30 "Kanaafuu ani kunoo raajota dubbii koo wal irraa hatan sanaan nan morma"
jedha WAAQAYYO. 31 "Kunoo ani raajota afaanuma isaaniitiin, 'WAAQAYYO akkana
jedha' jedhaniin nan morma" jedha WAAQAYYO. 32 "Ani dhugumaan warra abjuu
sobaa raajaniin nan morma" jedha WAAQAYYO, "Isaan soba itti odeessanii saba koo
karaa irraa balleessu; ani garuu isaan hin ergine yookaan isaan hin muudne. Isaan
gonkumaa saba kana hin fayyadan" jedha WAAQAYYO.

### *Raajii Sobaa*

33 "Yoo sabni kun yookaan raajiin tokko yookaan lubni tokko, 'Ba'aan WAAQAYYOO
maal?' jedhee si gaafatutti, ati immoo, 'Ba'aa maalii? Ani sin gata jedha WAAQAYYO'
jedhiin. 34 Yoo raajiin tokko yookaan lubni tokko yookaan namni kam iyyuu, 'Ba'aan
WAAQAYYOO kanaa dha,' jedhe, ani nama sanaa fi warra mana isaa jiraatan nan adaba.
35 Tokkoon tokkoon namaa michuu isaatiin yookaan fira isaatiin, 'Deebiin WAAQAYYO
kenne maali?' Yookaan, 'WAAQAYYO maal dubbata?' jechuu qaba. 36 Egaa isin

lammata, ‘Ba’aa WAAQAYYOO,’ jettanii dubbachuu hin qabdan; dubbiin nama hundaa
ba’aa ofii isaa ta’ee isin immoo dubbii Waaqa keenyaa, Waaqa jiraataa, WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u sanaa jal’istuutii. 37 Ati ittuma fuftee raajii tokkoon, ‘Deebiin
WAAQAYYO siif kenne maali?’ Yookaan ‘WAAQAYYO maal dubbate?’ jetta. 38 Isin,
‘Ba’aan WAAQAYYO kanaa dha’ yoo jettan iyyuu, WAAQAYYO akkana jedha; ani ‘Ba’aan
WAAQAYYOO kanaa dha’ jechuu hin qabdan isiniin jedhu iyyuu isin jecha, ‘Ba’aan
WAAQAYYOO kanaa dha’ jedhutti fayyadamtu. 39 Kanaafuu ani dhugumaan isin
irraanfadhee magaalaa isinii fi abbootii keessaniif kenne wajjin fuula koo duraa isin
nan gata. 40 Salphina bara baraa jechuunis qaanii bara baraa kan hin irraanfatamnes
isinitti nan fida.”

# 24

*Ijaa Harbuu Guuboo Lama*

1 Erga Nebukadnezar mootichi Baabilon Yehooyaakiin mooticha Yihuudaa ilma
Yehooyaaqiimii fi qondaaltota Yihuudaa, ogeeyyii hojii harkaatii fi tumtuuwwan
Yihuudaa booji’ee Yerusaalemii gara Baabilonitti geessee booddee WAAQAYYO ija
harbuu guuboo lama fuula mana qulqullummaa WAAQAYYOO duratti na argisiise.
2 Guuboon tokko ija harbuu akka malee gaarii kan ijaa duraan bilchaate fakkaatu
qaba ture; guuboon kaan immoo ija harbuu akka malee tortoree, sababii tortoruu
isaatiif nyaatamuu hin dandeenye qaba ture.

3 WAAQAYYOS, “Yaa Ermiyaas, ati maal argita?” naan jedhe.

Anis, “Ija harbuu nan arga; ija gaariin akka malee gaarii dha; inni tortoraan immoo
sababii akka malee tortoreef nyaatamuu hin danda’u” jedheen deebise.

4 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 5 “WAAQAYYO Waaqni
Israa’el akkana jedha; ‘Ani booji’amtoota Yihuudaa warra ani iddoo kanaa baasee
biyya Baabilonotaatti erge sana akkuma ija gaarii kanaatti ija gaariin nan ilaala. 6 Ani
faayidaa isaaniitiif ija koo isaan irra buufadhee biyya kanatti deebisee isaan nan fida;
ani isaanan ijaara malee isaan hin diigu; ani isaanan dhaaba malee isaan hin buqqisu.
7 Ani akka isaan akka ani WAAQAYYO isaanii ta’e beekaniif qalbii nan kennaaf. Isaan
saba koo ta’u; anis Waaqa isaanii nan ta’a; isaan garaa guutuudhaan gara kootti ni
deebi’uutii.

8 “ ‘WAAQAYYO akkana jedha; ani garuu Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa, qondaaltota
isaatii fi hambaawwan Yerusaalem kanneen biyya kana keessatti hafanii fi warra
Gibxi keessa jiraatan akkuma ija harbuu kan waan akka malee tortoreef namni
nyaachuu hin dandeenye sanaatti nan dhiisa. 9 Ani fuula mootummoota lafaa hundaa
duratti balfamoo fi jibbamoo isaan nan godha; iddoo ani itti isaan bittinneessu
hundattis tuffatamoo, waan kolfaa, waan qoosaatii fi waan abaarsaa isaan nan godha.
10 Ani hamma isaan biyya ani isaanii fi abbootii isaaniitiif kenne irraa barbadaa’anitti
goraadee, beelaa fi dha’icha isaanitti nan erga.’ ”

# 25

*Waggaa Torbaatamaaf Booji’amuu*

1 Bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa ture keessaa waggaa afuraf-
faatti jechuunis bara mootummaa Nebukadnezar mooticha Baabilon keessa waggaa
tokkoffaatti dubbiin waa’ee saba Yihuudaa hundaatiif gara Ermiyaas dhufe kanaa
dha. 2 Kanaafuu Ermiyaas raajichi saba Yihuudaa hundaa fi warra Yerusaalem keessa
jiraatan hundaan akkana jedhe: 3 Waggaa kudha sadaffaa bara mootummaa Yosiyaas
ilma Aamoon mooticha Yihuudaatii jalqabee hamma guyyaa har’aatti jechuunis
waggaa digdamii sadii guutuu dubbiin WAAQAYYOO gara koo dhufeera; anis irra
deddeebi’ee isinitti himeera; isin garuu hin dhaggeeffanne.

4 Yoo WAAQAYYO raajota isaa tajaajiltoota hunda ammumaa amma isinitti erge
iyyuu, isin hin dhaggeeffanne yookaan xiyyeeffannaa tokko iyyuu hin kennineef.
5 Isaanis akkana jedhan; "Egaa tokkoon tokkoon keessan karaa keessan jal'aa fi
hojii keessan hamaa sana irraa deebi'aa; yoos isin biyya WAAQAYYO isinii fi abbootii
keessaniif bara baraan kenne keessa jiraachuu ni dandeessu. 6 Isaan tajaajiluu fi isaan
waaqeffachuuf jettanii waaqota biraa duukaa hin bu'inaa; waanuma harki keessan
hojjeteen dheekkamsaaf na hin kakaasinaa. Yoos ani isin hin miidhu."

7 "Isin garuu na hin dhaggeeffanne; waanuma harki keessan hojjeteen dheekkam-
saaf na kakaaftan; mataa keessanittis miidhaa fiddan" jedha WAAQAYYO.

8 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedhe: "Sababii isin dub-
bii kootiif hin ajajaminiif, 9 ani saboota biyya kaabaa hundaa fi garbicha koo
Nebukadnezar mooticha Baabilon walitti qabee biyya kanatti, jiraattota isheettii fi
saboota naannoo ishee jiraatan hundatti nan kaasa; guutumaan guutuutti isaan nan
balleessa; waan qaanii, waan tuffiitii fi waan bara baraan one isaan nan godha"
jedha WAAQAYYO. 10 "Ani sagalee ililleetii fi gammachuu, sagalee misirrittiitii fi
misirrichaa sagalee dhagaa daakuutii fi ifa ibsaa isaan keessaa nan balleessa. 11 Biyyi
kun guutuun barbadooftee onti; saboonni kunneenis waggaa torbaatama mooticha
Baabiloniitiif garboomu.

12 "Garuu erga waggaan torbaatamni sun dhumee booddee ani mooticha Baabiloni-
itii fi saba isaa, biyya Baabilonotaas sababii yakka isaaniitiif nan adaba; biyyattiis
bara baraan nan onsa" jedha WAAQAYYO. 13 "Ani waanan biyyattii irratti dubbadhe
hunda, waan kitaaba kana keessatti barreeffamee fi waan Ermiyaas saboota hundatti
raajii dubbate hunda biyya sanatti nan fida. 14 Isaan mataan isaanii iyyuu saboota
hedduu fi moototа gurguddoof ni garboomu; anis akkuma hojii isaaniittii fi akkuma
hojii harka isaaniitti gatii isaaniif malu nan kennaaf."

### *Xoofoo Dheekkamsa Waaqaa*

15 WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana naan jedhe: "Xoofoo daadhii wayinii
dheekkamsa kootiitiin guutame kana ana harkaa fuudhiitii saboota ani itti si ergu
hunda obaasi. 16 Isaanis yeroo isa dhuganitti ni gatantaru; sababii goraadee ani
isaan gidduutti ergu sanaatiifis ni maraatu." 17 Kanaafuu ani xoofoo sana harka
WAAQAYYOOTII fuudhee akka saboonni inni itti na erge hundi dhugan nan godhe:

18 Kunis akka Yerusaalemii fi magaalaawwan Yihuudaa, mootonnii fi qondaaltonni
ishee akkuma har'a ta'anii jiran kana barbadeeffamanii waan salphinaa, waan
tuffiitii fi waan abaarsaa ta'aniifii dha;
19 Fara'oon mootichi Gibxi, tajaajiltoonni isaa, qondaaltonni isaatii fi sabni isaa
hundi, 20 namoonni biyya ormaa kanneen achi jiran hundi,
mootonni Uuzi hundi,
mootonni Filisxeemotaa hundi jechuunis warri Eqroon, warri Gaazaa, warri
Ashqaloonii fi sabni Ashdooditti hafee hundi,
21 Edoom, Mo'aabii fi Amoon,
22 mootonni Xiiroosii fi Siidoonaa hundi,
mootonni biyyoota qarqara galaanaa warri galaana gama jiraatan,
23 Dedaan, Teemaan, Buuzii fi warri biyya fagoo jiraatan hundi,
24 mootonni Arabaa hundii fi mootonni Namoota Ormaa kanneen gammoojjii
keessa jiraatan hundi,
25 mootonni Zimrii, kan Eelaamii fi kan Meedee hundi,
26 mootonni biyyoota Kaabaa kanneen dhi'oo fi fagoo, wal duraa duubaan
jechuunis mootonni lafa irra jiran hundi daadhii sana dhuganiiru.
Hunda isaanii booddee immoo mootiin Sheeshaakiis ni dhuga.

27 “Ergasii akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el
sun akkana jedha: Sababii goraadee ani isin gidduutti erguu sanaatiifis dhugaa,
machaa’aa, hoqqisaa; akka lammata ol hin kaaneefis kukkufaa.’ 28 Yoo isaan xoofoo
kana si harkaa fuudhanii dhuguu didan garuu akkana jedhiin; ‘WAAQAYYO Waan
Hunda Danda’u akkana jedha: Isin dhuguu qabdu! 29 Kunoo, ani magaalaa Maqaa
kootiin waamamutti balaa buusuu jalqabeera; isin immoo utuu hin adabamin haftuu
ree? Isin utuu hin adabamin hin haftan; ani warra lafa irra jiraatan hundatti
goraadee nan waamaatii, jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u.’
30 “Kanaafuu dubbii kana hunda isaanitti raajiitii akkana jedhiin:
“ ‘WAAQAYYO ol gubbaadhaa guunguma;
iddoo jireenya isaa qulqulluu sanaa qaqawweessa’ee
biyya isaattis guddisee ni guunguma.
Inni akkuma warra ija wayinii dhidhiitaniitti
warra lafa irra jiraatan hundatti ni lallaba.
31 Wacni hamma daarii lafaatti ni dhaga’ama;
WAAQAYYO sabootatti ni muraatii;
inni sanyii namaa hundatti murtii fida;
hamoota immoo goraadeedhaan fixa’ ”
jedha WAAQAYYO.
32 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Ilaa! Sabaa gara sabaatti
balaan babal’achaa jira;
bubbeen hamaan jabaan tokko
daarii lafaatii ka’aa jira.”
33 Gaafas warri WAAQAYYO fixe handaara lafaa tokkoo hamma kaaniitti firfirfamanii
argamu. Isaan akkuma kosii lafatti gatamu malee boo’icha hin argatan yookaan
walitti hin qabaman yookaan hin awwaalaman.
34 Yaa tiksoota, boo’aa, wawwaadhaas;
eegdonni bushaayees daaraa irra gangaladhaa.
Yeroon isin itti gorra’amtan dhufeeraatii;
isin kuftanii akkuma mi’a suphee miidhagaa caccabdu.
35 Tiksoonni iddoo itti baqatan,
eegdonni bushaayee immoo iddoo itti miliqan hin qaban.
36 Iyya tiksootaatii fi wawwaannaa
eegdota bushaayee dhaga’aa!
WAAQAYYO lafa dheeda isaanii balleessaa jiraatii.
37 Sababii dheekkamsa WAAQAYYOO jabaa sanaatiif,
lafti nagaa qabu ni ona.
38 Sababii goraadee cunqursitootaatii fi
sababii dheekkamsa WAAQAYYOO hamaa sanaatiif,
inni akkuma leencaa man’ee isaatii ni ba’a;
biyyi isaaniis ni onti.

# 26

*Ermiyaas Du’aan Doorsifame*

1 Jalqaba bara mootummaa Yehooyaaqiim ilma Yosiyaas mooticha Yihuudaa
sanaatti dubbiin kun WAAQAYYO biraa dhufe: 2 “WAAQAYYO akkana jedha: Oobdii
mana WAAQAYYOO keessa dhaabadhuutii namoota magaalaawwan Yihuudaa keessaa
ba’anii mana WAAQAYYOO keessatti waaqeffachuu dhufan hundatti dubbadhu. Waan
ani si ajaju hunda itti himi; jecha tokko illee hin hambisin. 3 Tarii isaan dhaga’anii

tokkoon tokkoon namaa karaa isaa hamaa sana irraa ni deebi'a ta'a. Anis gaabbee
badiisa sababii hammina isaaniitiif isaanitti fiduuf yaadaa ture sana nan hambisa.
4 Atis akkana jedhiin; WAAQAYYO akkana jedha; 'Yoo isin na dhaga'uu diddanii, seera
koo kan ani fuula keessan dura kaa'e sana duukaa bu'uu baattan, 5 amma illee yoo
isin dubbii tajaajiltoota koo raajota ani utuma isin dhaga'uu diddanuu ammumaa
amma isinitti erge sanaa illee dhaggeeffachuu baattan, 6 ani mana kana akkuma
Shiiloo, magaalaa kana immoo saboota lafaa hunda keessatti waan abaarsaa nan
godha.' "
7 Luboonni, raajonnii fi sabni hundi Ermiyaasii dubbii kana mana WAAQAYYOO
keessatti dubbatu dhaga'an. 8 Garuu akkuma Ermiyaas waan WAAQAYYO akka inni
dubbatuuf isa ajaje hunda namoota hundatti, himee raawwateen luboonni, raajonnii
fi namoonni hundi isa qabanii akkana jedhaniin; "Ati du'uu qabda! 9 Ati maaliif akka
manni kun akkuma Shiiloo ta'uu fi akka magaalaan kunis onee duwwaa hafu maqaa
WAAQAYYOOTIIN raajii dubbatta?" Namoonni hundis mana WAAQAYYOO keessatti
Ermiyaasin marsan.
10 Qondaaltonni Yihuudaa yommuu waan kana dhaga'anitti mana Mootii keessaa
gara mana WAAQAYYOOTTI ol ba'anii balbala karra Haaraa kan mana WAAQAYYOO dura
tataa'an. 11 Kana irratti luboonnii fi raajonni sun qondaaltotaa fi namoota hundaan,
"Waan namichi kun magaalaa kana irratti raajii dubbateef duuti isatti muramuu
qaba. Isin waan kana gurruma keessaniin dhageessaniirtu!" jedhan.
12 Ermiyaas qondaaltota hundaa fi namoota hundaan akkana jedhe; "WAAQAYYO
akka ani waan isin dhageessan kana hunda mana kanaa fi magaalaa kana irratti
raajii dubbadhuuf na erge. 13 Kanaafuu isin amma karaa keessanii fi hojii keessan
qajeelfadhaa; WAAQAYYO Waaqa keessaniif illee ajajamaa. Yoos WAAQAYYO gaabbee
balaa isinitti fiduuf yaade sana ni dhiisa. 14 Ani garuu harkuma keessan keessa nan
jira; isin tarkaanfii gaarii fi qajeelaa isinitti fakkaate narratti fudhadhaa. 15 Garuu isin
yoo na ajjeeftan akka dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasuu keessaniin
ofitti, magaalaa kanattii fi warra ishee keessa jiraatanitti balaa fiddan beekkadhaa;
WAAQAYYO dhugumaan akka ani dubbii isin dhageessan kana hunda dubbadhuuf
isinitti na ergeeraatii."
16 Kana irratti qondaaltonnii fi namoonni hundi, lubootaa fi raajotaan, "Namicha
kanatti duuti muramuu hin qabu! Inni maqaa WAAQAYYO Waaqa keenyaatiin nutti
dubbatee jiraa" jedhan.
17 Maanguddoota biyyaa keessaas tokko tokko ka'anii waldaa sabaa guutuudhaan
akkana jedhan; 18 "Bara Hisqiyaas mootii Yihuudaa ture keessa Miikiyaas namni
biyya Mooresheet akkana jedhee saba Yihuudaa hundatti raajii dubbate; 'WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u akkana jedha:
" 'Xiyoon akkuma lafa qotiisaatti qotamti;
Yerusaalemis tuullaa waan diigamee taati;
gaarri mana qulqullummaas tabba daggalaan liqimfame ta'a.'
19 "Hisqiyaas mootichi Yihuudaa yookaan saba Yihuudaa keessaa namni tokko
iyyuu isa ajjeeseeraa? Hisqiyaas WAAQAYYOON sodaatee araara isaa hin kadhannee?
WAAQAYYOS gaabbee badiisa isaanitti fiduu yaade sana hin dhiifnee? Nus badiisa
hamaa ofitti fiduu geenyeerra!"
20 Namni maqaa WAAQAYYOOTIIN raajii dubbate kan biraa immoo Uuriyaa ilma
Shemaa'iyaa nama biyya Kiriyaati Ye'aariim ture; innis akkuma Ermiyaas magaalaa
kanaa fi biyya kana irratti raajii dubbate. 21 Yommuu Yehooyaaqiim mootichi,
ajajjoonnii fi qondaaltonni isaa hundi dubbii Uuriyaa dhaga'anitti mootichi isa
ajjeesisuu barbaade; Uuriyaan garuu waan kana dhageenyaan sodaatee gara Gibxitti
baqate. 22 Yehooyaaqiim mootichi garuu Elnaataan ilma Akboor namoota biraa wajjin

gara Gibxitti erge. 23 Isaanis Uuriyaa Gibxii fidanii Yehooyaaqiim mootichatti kennan;
mootichis goraadeedhaan isa ajjeese; reeffa isaa immoo iddoo namoonni ulfina hin
qabne itti awwaalamanitti gate.
24 Ahiiqaam ilmi Shaafaan garuu Ermiyaasin deeggare; kanaafuu Ermiyaas
ajjeefamuuf dabarfamee namootatti hin kennamne.

# 27

### *Yihuudaan Nebukadnezar Tajaajila*

1 Jalqaba bara Zedeqiyaa ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa turetti dubbiin kun
Waaqayyo biraa gara Ermiyaas dhufe: 2 Waaqayyo akkana naan jedhe; “Teephaa fi
danqaraadhaan waanjoo tolchiitii morma keetti kaa’adhu. 3 Ergasii karaa ergamoota
Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa bira gara Yerusaalem dhufaniitiin gara mootii Edoom,
mootii Mo’aab, mootii Amoon, mootii Xiiroosii fi mootii Siidoonaatti dhaamsa ergi.
4 Gooftota isaaniitiif dhaamsa kana dabarsii akkana jedhiin; ‘Waaqayyo Waan Hunda
Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha; “Waan kana gooftota keessanitti himaa. 5 Ani
humna koo guddaa fi irree koo diriirfameen lafa, uummata isheetii fi bineensota ishee
irra jiraatan uumeera; abbaa fedheef illee nan kenna. 6 Ani amma biyyoota keessan
hunda harka garbicha koo Nebukadnezar mooticha Baabiloniitti dabarsee nan kenna.
Akka bineensonni bosonaa iyyuu isa jalatti bulan nan godha. 7 Hamma guyyaan biyya
isaa ga’utti saboonni hundi isa, ilmaan isaatii fi ilmaan ilmaan isaa tajaajilu; ergasii
immoo saboonni hedduunii fi mootonni gurguddaan isa garboomfatu.
8 “ ‘ “Garuu yoo sabni yookaan mootummaan kam iyyuu Nebukadnezar mooticha
Baabilon hin tajaajille yookaan yoo morma isaa waanjoo mootichaatiif gad hin
qabanne ani hamman harkuma isaatiin isaan balleessutti saba sana goraadeedhaan,
beelaa fi dha’ichaan nan adaba, jedha Waaqayyo. 9 Kanaafuu isin raajota keessan,
ilaaltota keessan, warra abjuu isiniif hiikan, eker dubbistoota keessanii fi falfaltoota
keessan kanneen, ‘Isin mootii Baabilon hin tajaajiltan’ isiniin jedhan sana hin
dhaga’inaa. 10 Isaan akka isin biyya keessan keessaa buqqifamtanii fagaattaniif soba
isiniif raaju; anis ari’ee isin nan baasa; isinis ni baddu. 11 Garuu yoo sabni kam
iyyuu morma isaa waanjoo mootii Baabiloniitiif gad qabatee isa tajaajile, ani akka
sabni sun biyya ofii isaa keessatti hafee lafa qotatee achi jiraatu nan dhiisa, jedha
Waaqayyo.” ’ ”
12 Anis Zedeqiyaa mooticha Yihuudaatti ergaadhuma kana nan hime. Akkanan
jedheen; “Morma keessan waanjoo mootii Baabiloniitiif gad qabadhaa; isaa fi saba
isaa tajaajilaa; isinis ni jiraattu. 13 Atii fi sabni kee maaliif goraadee, beelaa fi dha’icha
Waaqayyo ittiin saba mootii Baabilon hin tajaajille kam iyyuu sodaachiseen duutu?
14 Dubbii raajota, ‘Isin mootii Baabilon hin tajaajiltan’ isiniin jedhanii hin dhaga’inaa;
isaan raajii sobaa isinitti dubbatuutii. 15 ‘Ani isaan hin ergine’ jedha Waaqayyo. ‘Jarri
maqaa kootiin soba raaju. Kanaafuu ani isinii fi raajota isinii raajan illee ari’ee nan
baasa; isinis ni baddu.’ ”
16 Anis lubootaa fi namoota kana hundaan akkanan jedhe, “Waaqayyo akkana
jedha: raajota, ‘Mi’i mana Waaqayyoo ammuma Baabilonii ni deebifama’ jedhan
hin dhaga’inaa. Isaan soba isiniif raaju. 17 Isin jara hin dhaggeeffatinaa. Mootii
Baabilon tajaajilaa; ni jiraattuutii. Magaalaan kun maaliif diigamti? 18 Isaan
yoo raajota ta’anii fi yoo dubbii Waaqayyoo of keessaa qabaatan mee akka mi’i
mana Waaqayyoo kan masaraa mootii Yihuudaatii fi Yerusaalem keessatti hafe sun
gara Baabilonitti hin fudhatamneef Waaqayyo Waan Hunda Danda’u haa kadhatan.
19 Waaqayyo Waan Hunda Danda’u waa’ee utubootaa, waa’ee mi’a bishaan itti
kuusanii, waa’ee baattuuwwaniitii fi waa’ee mi’oota magaalaa kanatti hafan kanneen
biraa akkana jedhaatii; 20 Nebukadnezar mootiin Baabilon sun gaafa Yehooyaakiin

ilma Yehooyaaqiim mooticha Yihuudaa sana namoota Yihuudaatii fi Yerusaalem
ulfaatoo hunda wajjin Yerusaalemii gara Baabilonitti booji'e sana mi'oota kanneen
hin fudhanne. 21 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el waa'ee mi'oota
mana WAAQAYYOOTII fi masaraa mootii Yihuudaatii fi Yerusaalem keessatti hafanii
akkana jedha: 22 'Isaan Baabilonitti ni geeffamu; hamma guyyaan ani isaaniif dhufu
ga'uttis achuma turu' jedha WAAQAYYO. 'Ergasii ani deebisee iddoo kanatti isaan nan
fida.' "

# 28

*Hanaaniyaan Raajii Sobaa*

1 Jalqaba bulchiinsa mootummaa Zedeqiyaa mootii Yihuudaatti, ji'a shanaffaa
waggaa sanaatti, waggaa afuraffaatti, Hanaaniyaan raajichi ilmi Azuri, namni
Gibe'oon sun mana WAAQAYYOO keessatti, fuula lubootaatii fi uummata hundaa
duratti akkana naan jedhe: 2 "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el
akkana jedha; 'Ani waanjoo mootii Baabilon nan cabsa. 3 Ani waggaa lama
keessatti mi'oota mana WAAQAYYOO kanneen Nebukadnezar mootichi Baabilon asii
guuree Baabilonitti geesse hunda iddoo kanatti deebisee nan fida. 4 Ani amma
illee Yehooyaakiin ilma Yehooyaaqiim mooticha Yihuudaa sanaa fi booji'amtoota
Yihuudaadhaa gara Baabilonitti geeffaman kaan hunda iddoo kanatti deebisee nan
fida; ani waanjoo mootii Baabilon nan cabsaatii' jedha WAAQAYYO."

5 Ermiyaas raajichi fuuluma lubootaatii fi uummata mana WAAQAYYOO keessa
dhaabachaa turan hundaa duratti akkana jedhee Hanaaniyaa raajichaaf deebii
kenne; 6 "Ameen! WAAQAYYO waan kana haa godhu! WAAQAYYO mi'a mana WAAQAYY-
OOTII fi booji'amtoota booji'aman hunda Baabilonii iddoo kanatti deebisuudhaan
raajii ati dubbatte haa raawwatu. 7 Ta'us waan ani utuu atii fi namoonni kun hundi
dhageessanuu dubbadhu kana dhaga'i: 8 Raajonni anaa fi siin dura turan bara duriitii
jalqabanii akka biyyoota baay'ee fi mootummoota gurguddootti waraanni, badiisnii
fi dha'ichi dhufu raajaniiru. 9 Raajiin nagaa raaju garuu yoo raajiin isaa sun fiixaan
ba'e qofa akka WAAQAYYO biraa ergame beekama."

10 Ergasii Hanaaniyaan raajichi morma Ermiyaas raajichaa irraa waanjoo fuudhee
cabse; 11 innis fuula nama hundaa duratti akkana jedhe; "WAAQAYYO akkana jedha;
'Ani waggaa lama keessatti waanjoo Nebukadnezar mooticha Baabilon morma
saboota hundaa irraa akkanuma nan cabsa.' " Kana irratti Ermiyaas raajichi karaa
isaa qabatee qajeele.

12 Erga Hanaaniyaan raajichi waanjoo morma Ermiyaas raajichaa irraa cabsee
booddee dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 13 "Dhaqiitii
akkana jedhii Hanaaniyaatti himi; 'WAAQAYYO akkana jedha: Ati waanjoo mukaa
cabsiteerta; garuu qooda isaa waanjoo sibiilaa ni argatta. 14 WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: Ani akka isaan Nebukadnezar mooticha
Baabilon tajaajilan gochuuf morma saboota kana hundaa irra waanjoo sibiilaa nan
ka'aa; isaanis isa ni tajaajilu. Ani bineensa irratti illee ol aantummaa isaaf nan
kenna.' "

15 Ermiyaas raajichis Hanaaniyaa raajichaan akkana jedhe: "Yaa Hanaaniyaa
dhaga'i! WAAQAYYO si hin ergine; ati garuu akka sabni kun sobaa abdatu gooteerta.
16 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha: 'Ani lafa irraa sin balleessa; ati waan
WAAQAYYO irratti fincila lallabdeef baruma kana duuta.' "

17 Hanaaniyaa raajichis wagguma sana keessa ji'a torbaffaatti du'e.

# 29

*Xalayaa Booji'amtootaaf Ergame*

1 Dubbiin xalayaa kan Ermiyaas raajichi Yerusaalem irraa gara maanguddoota
namoota booji'aman gidduutti hafaniittii fi lubootatti, raajotattii fi warra Nebukad-
nezar Yerusaalemii booji'ee Baabilonitti geesse kaan hundatti erge sanaa kanaa
dha. 2 Kunis erga Yehooyaakiin mootichii fi haati isaa mootittiin, xu'aashiiwwan,
dura buutota Yihuudaatii fi Yerusaalem, ogeeyyii hojii mukaatii fi tumtuuwwan
Yerusaalemii booji'amanii deemanii booddee ta'e. 3 Innis xalayaa sana harka
Ele'aasaa ilma Shaafaaniittii fi Gemaariyaa ilma Hilqiyaa warra Zedeqiyaa mootichi
Yihuudaa gara Nebukadnezar mooticha Baabilonitti erge sanaatti kenne. Xalayaan
sunis akkana jedha:

4 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el warra boojuudhaan
Yerusaalemii gara Baabilonitti geeffaman hundaan akkana jedha: 5 "Manneen
ijaarradhaatii keessa jiraadhaa; biqiltuu dhaabbadhaatii ija isaa nyaadhaa. 6 Niitii
fuudhaatii ilmaanii fi intallan dhalchaa; akka isaanis ilmaanii fi intallan dhalchaniif
ilmaan keessan niitii fuusisaa; intallan keessan illee heerumsiisaa. Isinis achitti
baay'adhaa malee hin xinnaatinaa. 7 Magaalaa ani boojuudhaan itti isin ergeef
illee nagaa fi badhaadhummaa hawwaa. Yoo isheen badhaate, isinis waan
badhaataniif isheedhaaf WAAQAYYOON kadhadhaa." 8 WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedhaatii: "Raajotaa fi ilaaltota isin gidduu
jiraataniin hin gowwoomfaminaa. Abjuu akka isaan abjootaniif isaan kakaaftan
sana hin dhaggeeffatinaa. 9 Isaan maqaa kootiin soba isiniif raaju. Ani isaan hin
ergine" jedha WAAQAYYO.

10 WAAQAYYO akkana jedha: "Yeroo Waggaan torbaatamni Baabiloniif kenname
sun xumuramutti ani gara keessan dhufeen waadaa akka iddoo kanatti isin
deebisuuf gale sana nan raawwadha. 11 Yaada ani isiniif qabu anatu beekaatii;
innis yaada nagaati malee yaada hamaa miti; akkasumas yaada abdiitii fi kan
galgala keessaniif toluu dha" jedha WAAQAYYO. 12 "Isinis na waammattu; dhuftaniis
na kadhattu; anis isin nan dhaga'a. 13 Isin yoo garaa keessan guutuudhaan na
barbaaddan, na argattu. 14 Anis akka isin na argattan nan godha; boojuudhaa
deebisees isin nan fida" jedha WAAQAYYO. "Ani sabootaa fi lafa ani itti isin
ari'ee ture hunda keessaa walitti isin qabee gara biyya ani keessaa baasee isin
booji'amsiise sanaatti deebisee isinan fida" jedha WAAQAYYO.

15 Sababii isin, "WAAQAYYO Baabilon keessatti raajota nuu kaaseera" jettaniif
16 WAAQAYYO waa'ee mootii teessoo Daawit irra taa'uutii fi waa'ee namoota maga-
alaa kana keessatti hafan hundaa, firoota keessan kanneen isin wajjin booji'amanii
Baabilonitti hin geeffaminii akkana jedha; 17 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u
akkana jedha: "Ani goraadee, beelaa fi dha'icha isaanitti nan erga; akka isaan
akkuma ija harbuu kan tortoree namni nyaachuu hin dandeenyee ta'anis isaan nan
godha. 18 Ani goraadee, beelaa fi dha'ichaan isaan nan ari'a; akka isaan saboota ani
itti isaan ari'e hunda gidduutti waan abaarsaatii fi waan sodaachisaa, waan tuffiitii
fi waan fafaa ta'aniif ani fuula mootummoota lafaa hundaa duratti jibbisiisoo isaan
nan godha. 19 Isaan dubbii koo, dubbii ani ammumaa amma karaa tajaajiltoota koo
raajotaatiin isaanitti erge hin dhaggeeffanneetii" jedhan WAAQAYYO. "Isin warri
booji'amtanis akkasuma hin dhaggeeffanne" jedha WAAQAYYO.

20 Kanaafuu isin booji'amtoonni ani Yerusaalemii baasee gara Baabilonitti erge
hundi dubbii WAAQAYYOO dhaga'aa. 21 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni
Israa'el waa'ee Ahaab ilma Qolaayaatii fi waa'ee Ma'aseyaa ilma Zedeqiyaa warra
maqaa kootiin raajii sobaa isinitti dubbatan sanaa akkana jedha: "Ani dabarsee
Nebukadnezar mooticha Baabilonitti isaan kenna; innis ijuma keessan duratti
isaan fixa. 22 Sababii isaaniitiifis booji'amtoonni Yihuudaa warri biyya Baabilon
jiraatan, 'WAAQAYYO akka Zedeqiyaatii fi akka Ahaab warra Nebukadnezar mootichi

Baabilon ibiddaan gube sanaa si haa godhu!' jedhanii wal abaaru. 23 Isaan waan
akka malee hamaa ta'e Israa'el keessatti hojjetaniiruutii; isaan niitota ollaa isaanii
wajjin ejjaniiru; waan ani akka isaan hojjetan isaanitti hin himin hojjechuudhaan
maqaa kootiin soba dubbataniiru; ani waan kana nan beeka; dhugaa illee nan ba'a"
jedha WAAQAYYO.

### *Dhaamsa Shemaa'iyaatti Ergame*

24 Shemaa'iyaa namicha Nehelaamiin akkana jedhi: 25 "WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: Ati namoota Yerusaalem keessa jiraatan
hundatti, Sefaaniyaa ilma Ma'aseyaa lubichaattii fi luboota biraa hundatti maqaa
keetiin xalayaa ergiteerta. Sefaaniyaanis akkana jetteerta; 26 'WAAQAYYO akka ati
mana WAAQAYYOO keessatti itti gaafatamaa taatuuf iddoo Yehooyaadaa luba godhee
si muudeera; ati maraatuu raajii dubbatu kam iyyuu miilla isaa jirma gidduu, morma
isaa immoo hudhaa sibiilaa keessa galchitee hidhuu qabda. 27 Yoos ati maaliif
Ermiyaas namicha Anaatoot kan gidduu keessanitti raajii dubbatu sana ifachuu
dhiifte ree? 28 Inni akkana jedhee dhaamsa kana gara keenya, gara Baabilonitti
ergeera: Barri boojuu ni dheerata. Kanaafuu manneen ijaarradhaatii keessa
jiraadhaa; biqiltuu illee dhaabadhaa ija isaa nyaadhaa.' "
29 Sefaaniyaa lubichis xalayaa sana Ermiyaas raajichaaf dubbise. 30 Kana
irratti dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 31 "Ergaa kana
booji'amtoota hundatti ergi; 'WAAQAYYO waa'ee Shemaa'iyaa namicha Nehelaam
sanaa akkana jedha: Waan Shemaa'iyaan yoo ani isa erguu baadhe iyyuu raajii
isinii dubbatee akka isin soba amanattan godheef 32 WAAQAYYO akkana jedha: ani
dhugumaan Shemaa'iyaa namicha Nehelaam sanaa fi sanyii isaa nan adaba. Inni
saba kana gidduutti hambaa tokko iyyuu hin qabaatu yookaan waan gaarii ani saba
kootiif godhu hin argu; inni na mormuun fincila lallabeeraatii' jedha WAAQAYYO."

# 30

### *Sabni Israa'el Boojuudhaa Deebi'e*

1 Dubbiin WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe isa kanaa dha: 2 "WAAQAYYO
Waaqni Israa'el akkana jedha: 'Dubbii ani sitti dubbadhe hunda kitaabatti barreessi.
3 Barri tokko ni dhufa' jedha WAAQAYYO; 'Innis yeroo ani itti saba koo Israa'elii fi
Yihuudaa boojuudhaa deebisee biyya ani akka isaan dhaalaniif abbootii isaaniitiif
kenne sanatti isaan galchuu dha,' jedha WAAQAYYO."
4 Dubbiin WAAQAYYO waa'ee Israa'elii fi Yihuudaa dubbate kanaa dha: 5 "WAAQAYYO
akkana jedha:
" 'Iyyi sodaa ni dhaga'ama;
kun raafama malee nagaa miti.
6 Mee iyyaafadhaa ilaalaa:
Dhiirri tokko da'uu ni danda'aa?
Yoos ani maaliifan dhiira hunda isaa akkuma dubartii ciniinsifattuu,
harka isaa garaa ofii isaa irra kaa'atee,
fuulli isaas akka malee gurraacha'e arga ree?
7 Guyyaan sun akkam sodaachisaa ta'a!
Guyyaan akka guyyaa sanaa tokko iyyuu hin jiraatu.
Guyyaan sun Yaaqoobiif yeroo rakkinaa ta'a;
inni garuu rakkina sana keessaa ni ba'a.

8 " 'Guyyaa sana' jedha WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'u,
'Ani morma isaanii irraa waanjoo nan cabsa;
hidhaa isaanii illee nan kukkuta;

ergasii namoonni biyya ormaa isaan hin garboomfatan.
9 Qooda kanaa isaan WAAQAYYO Waaqa isaaniitii fi
Daawit mootii isaanii isa ani isaaniif kaasu ni tajaajilu.

10 " 'Kanaafuu yaa tajaajilaa koo Yaaqoob, ati hin sodaatin;
yaa Israa'el hin rifatin'
jedha WAAQAYYO.
'Ani dhugumaan biyya fagootii sin baasa,
sanyiiwwan kee immoo biyya isaan booji'amanii
itti geeffamanii nan baasa.
Yaaqoob ammas nagaa fi tasgabbii ni qabaata;
namni isa sodaachisu tokko iyyuu hin jiru.
11 Ani si baasuuf si wajjinan jiraatii'
jedha WAAQAYYO;
'Ani sabootan gidduu isaaniitti si bittinneesse sana
guutumaan guutuutti barbadeessu iyyuu
si'i garuu guutumaan guutuutti hin barbadeessu.
Ani karaa sirrii ta'een sin adaba;
utuu si hin adabin akkasumatti si hin dhiisu.'
12 "WAAQAYYO akkana jedha:
" 'Madaan kee hin fayyu;
miidhamni kee waldhaansa hin qabu.
13 Namni siif falmu tokko iyyuu hin jiru;
madaa keetiif qorichi hin jiru;
ati hin fayyitu.
14 Michoonni kee hundi si dagataniiru;
isaan dhimma kee hin qaban.
Sababii yakki kee akka malee guddaa ta'ee
cubbuun kees baay'ateef
ani akkuma diinaatti si dha'ee
akkuma nama garaa jabaatu tokkoottis si adabeera.
15 Ati maaliif madaa keetii fi
dhukkuba kee kan hin fayyine sanaaf iyyita?
Sababii yakki kee guddatee cubbuun kees baay'ateef,
ani wantoota kanneen sitti fideera.

16 " 'Warri si nyaatan hundi garuu ni nyaatamu;
diinonni kee hundis boojuudhaan ni fudhatamu.
Warri qabeenya kee booji'an ni booji'amu;
warri si saaman hundis ni saamamu.
17 Ani garuu fayyaa kee siifin deebisa;
madaa kees siif nan fayyisa' jedha WAAQAYYO.
'Ati Xiyoon gatamtuu
kan namni tokko iyyuu dhimma ishee hin qabne jedhamteertaatii.'
18 "WAAQAYYO akkana jedha:
" 'Ani hambaa dunkaana Yaaqoob kan booji'amee deebisee nan dhaaba;
iddoo jireenya isaaniitiifis garaa nan laafa;
magaalattiin idduma diigamte sanatti deebitee ni ijaaramti;
masaraanis iddoo isaaf malu ni dhaabata.
19 Faarfannaan galataatii fi sagaleen gammachuu
isaan keessaa ni dhaga'ama.

Ani isaan nan baay'isa;
isaaniis hin xinnaatan;
ani ulfina nan kennaaf;
isaanis hin tuffataman.
20 Ijoolleen isaanii akka warra jabana durii ta'u;
waldaan isaaniis jabaatee fuula koo dura ni dhaabata;
ani warra isaan cunqursu hunda nan adaba.
21 Hoogganaan isaanii namuma isaanii ta'a;
bulchaan isaanii isaanuma gidduudhaa ka'a.
Ani isa ofitti nan dhi'eessa;
innis natti dhi'aata;
yoo kanaa achii eenyutu natti dhi'aachuuf ija jabaata?'
jedha WAAQAYYO.
22 'Akkasiin isin saba koo ni taatu;
anis Waaqa keessan nan ta'a.' "

23 Kunoo, bubbeen WAAQAYYOO,
inni jabaan dheekkamsaan ni bu'a;
bubbeen hamaanis
mataa hamootaa irratti gad bubbisa.
24 Aariin WAAQAYYOO, sodaachisaan sun
hamma inni kaayyoo yaada isaa
guutumaan guutuutti fiixaan baasutti duubatti hin deebi'u.
Isin bara dhumaa keessa
waan kana ni hubattu.

# 31

1 "Yeroo sanatti" jedha WAAQAYYO, "Ani balbala Israa'el hundaaf Waaqa nan ta'a;
isaanis saba koo ni ta'u."
2 WAAQAYYO akkana jedha:
"Namoonni goraadee irraa hafan
gammoojjii keessatti fudhatama ni argatu;
anis Israa'eliif boqonnaa kennuuf nan dhufa."
3 WAAQAYYO fagoodhaa natti mul'atee akkana jedhe:
"Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera;
kanaafuu ani arjummaa kootiin ofitti si harkiseera.
4 Yaa Israa'el durba qulqullittii, ani amma illee sin ijaara;
atis deebitee ni ijaaramta.
Ati amma illee dibbee kee fudhattee
warra gammadan wajjin shuubbisuuf gad baata.
5 Ati amma illee gaarran
Samaariyaa irratti wayinii ni dhaabbatta;
qotee bulaanis wayinii dhaabbatee
ija isaa ni nyaata.
6 Guyyaa itti eegdonni
gaarran Efreem irra dhaabatanii,
'Kottaa gara Xiyoonitti, gara WAAQAYYO Waaqa keenyaatti ol baanaa'
jedhanii iyyan tokko ni dhufa."
7 WAAQAYYO akkana jedha:
"Yaaqoobiif gammachuudhaan faarfadhaa;
hangafa sabootaatiif ililchaa.
Galata keessan dhageessisaatii,

‘Yaa WAAQAYYO saba kee,
hambaa Israa’el baraari’ jedhaa.
8 Kunoo, ani biyya kaabaatii isaan nan fida;
handaara lafaatiis walitti isaan nan qaba.
Isaan keessattis jaamotaa fi naafota,
haadhota ulfaatii fi dubartoota ciniinsifatantu argama;
saba guddaa ta’aniis ni deebi’u.
9 Isaanis boo’aa dhufu;
yeroo ani deebisee isaan fidutti Waaqa kadhatu.
Waan ani abbaa Israa’el ta’ee fi
Efreem immoo ilma koo hangafa ta’eef,
ani qarqara burqaa bishaanii irra,
daandii qajeelaa isaan achi irratti hin gufanne irra isaan nan qajeelcha.

10 “Yaa saboota, dubbii WAAQAYYO dhaga’aa;
isin, ‘Inni Israa’elin bittinneesse sun walitti isaan qabee
akkuma tiksee tokkootti bushaayee isaa ni tiksa’ jedhaatii
biyyoota qarqara galaanaa kanneen fagoo jiranitti labsaa.
11 WAAQAYYO Yaaqoobin fureera,
warra isa caalaa jajjaboo ta’an harkaas isa baaseeraatii.
12 Isaan ni dhufanii gaarran Xiyoon irrattis gammadanii ililchu;
isaan arjummaa WAAQAYYOOTTI jechuunis
midhaanitti, daadhii wayinii haaraa fi
zayitiitti, ilmoolee bushaayeettii fi jabbootaattis ni gammadu.
Jireenyi isaanii akkuma biqiltuu bishaan quufee ta’a;
isaan si’achi hin gaddan.
13 Ergasiis shamarran ni shuubbisu; ni gammadu;
dargaggoonnii fi maanguddoonni akkasuma ni gammadu.
Ani boo’icha isaanii gammachuutti nan geeddara;
qooda gaddaa jajjabinaa fi gammachuu nan kennaaf.
14 Ani arjummaadhaan luboota nan quubsa;
sabni koos badhaadhummaa kootiin ni guutama,”
jedha WAAQAYYO.
15 WAAQAYYO akkana jedha:
“Sagaleen boo’ichaatii fi wawwaannaa guddaan tokko
Raamaa keessaa dhaga’ame;
sababii isaan hin jirreef,
Raahel ijoollee isheetiif boo’aa jirti;
jajjabaachuus ni didde.”
16 WAAQAYYO akkana jedha:
“Sagalee kee boo’icha irraa,
ija kee immoo imimmaan irraa eeggadhu;
hojiin kee ni badhaafamaatii”
jedha WAAQAYYO.
“Isaan biyya diinaatii ni deebi’u.
17 Kanaafuu galgalli kee abdii qaba”
jedha WAAQAYYO.
Ijoolleen kee biyya ofii isaaniitti ni deebi’u.

18 “Ani dhugumaan Efreemii akkana jedhee boo’u dhaga’eera:

‘Ati akkuma dibicha hin leenjifamin
tokkootti na adabdeerta; anis adabameera.
Ati sababii WAAQAYYO Waaqa koo taateef,
na deebisi; anis nan deebi’a.
19 Ani ergan duubatti deebi’ee booddee,
qalbii jijjiirradheera;
ani ergan hubadhee booddee,
qoma koo nan dha’e.
Ani sababiin salphina dargaggummaa koo baadhuuf,
nan qaana’e; gad nan deebi’es.’
20 Efreem ilma koo jaallatamaa,
mucaa ani itti gammadu mitii?
Ani yeroo baay’ee yoon isaan morme iyyuu
amma illee isa nan yaadadha.
Kanaafuu garaan koo isaaf ni yaada;
garaas nan laafaaf”
jedha WAAQAYYO.

21 “Ati mallattoo daandii dhaabbadhu;
waan karaa nama argisiisu illee kaa’adhu.
Karaa irra deemtu,
daandii guddaa sana hubadhu.
Yaa Israa’el durba qulqullittii deebi’i;
magaalaawwan keetti deebi’i.
22 Yaa intala hin amanamne,
ati hamma yoomiitti asii fi achi joorta?
WAAQAYYO waan haaraa tokko lafa irratti ni uuma;
dubartiin dhiira marsiti.”
23 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: “Yeroo ani
booji’amtoota isaanii deebisutti namoonni biyya Yihuudaatii fi magaalaawwan ishee
keessa jiraatan amma illee yeroo tokko, ‘Yaa iddoo murtiin qajeelaan jiraatu, yaa
tulluu qulqulluu, WAAQAYYO si haa eebbisu’ jedhanii dubbatu. 24 Biyya Yihuudaatii fi
magaalaawwan isaa hunda keessa namoonni jechuunis qonnaan bultoonnii fi warri
bushaayee fudhatanii asii fi achi nanaanna’an tokkummaadhaan achi keessa jiraatu.
25 Ani warra dadhaban nan jajjabeessa; warra gaggaban illee nan bayyanachiisa.”
26 Kana irratti ani dammaqee asii fi achi nan ilaale. Hirribni koos natti mi’aawee
ture.
27 “Barri ani itti mana Israa’elii fi mana Yihuudaa sanyii namaatii fi sanyii horiitiin
guutu tokko ni dhufa” jedha WAAQAYYO. 28 “Ani akkuman isaan buqqisuu fi diiguuf,
isaan garagalchuuf, isaan barbadeessuu fi badiisa isaanitti fiduuf isaan ilaale sana
akkasuma immoo isaan ijaaruu fi isaan dhaabuuf gara isaanii nan ilaala” jedha
WAAQAYYO. 29 “Bara sana keessa namoonni lammata,
“ ‘Abbootiin isaanii ija wayinii dhangaggaa’aa nyaannaan
ilkaan ijoollee hadoode’ hin jedhan.
30 Qooda kanaa tokkoon tokkoon namaa cubbuu ofii isaatiin du’a; nama ija wayinii
dhangaggaa’aa nyaatu kam iyyuu ilkaanuma isaatu hadooda.
31 “Yeroon ani itti mana Israa’el wajjin,
mana Yihuudaa wajjinis
kakuu haaraa galu ni dhufa,”
jedha WAAQAYYO.
32 “Kakuun kunis kakuu ani,

yeroo biyya Gibxiitii isaan baasuuf jedhee
harka isaanii qabe sana abbootii isaanii wajjin gale,
kakuu koo kan utuma ani dhirsa isaanii ta'ee jiruu
isaan cabsan sanaan tokko miti"
jedha WAAQAYYO.
33 "Kakuun ani yeroo sana booddee
mana Israa'el wajjin galu kanaa dha" jedha WAAQAYYO.
"Ani seera koo qalbii isaanii keessa nan kaa'a;
garaa isaanii keessattis nan barreessa.
Ani Waaqa isaanii nan ta'a;
isaanis saba koo ta'u.
34 Sababii hundi isaanii,
xinnaa hamma guddaatti na beekaniif,
si'achi namni kam iyyuu, 'WAAQAYYOON beeki' jedhee
ollaa isaa yookaan obboleessa isaa hin barsiisu"
jedha WAAQAYYO.
"Ani yakka isaanii nan dhiisaaf;
cubbuu isaaniis si'achi hin yaadadhu."
35 WAAQAYYO akkana jedha;
inni akka isheen guyyaan ibsituuf aduu ramadu,
inni akka isaan halkaniin ibsaniif,
ji'aa fi urjiiwwan ajaju,
inni akka dambaliin isaa huursuuf
galaana raasu sun maqaan isaa
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha:
36 "Yoo seerri kun fuula koo
duraa bade qofa, sanyiin Israa'el,
fuula koo duratti bara baraan saba ta'uun isaa hafa"
jedha WAAQAYYO.
37 WAAQAYYO akkana jedha:
"Yoo samiin gubbaa safaramuu danda'ee fi
hundeen lafaa kan gadii qoratamee argamuu danda'e qofa
ani sanyii Israa'el hunda
sababii waan isaan hojjetan hundaatiif nan gata"
jedha WAAQAYYO.
38 WAAQAYYO akkana jedha: "Barri itti magaalaan kun gamoo Hanaani'eeliitii
jalqabee hamma Karra Goleetti deebi'ee naaf ijaaramu tokko ni dhufa. 39 Funyoon
safaraas achii ka'ee gara tulluu Gaareebitti qajeelee gara Go'aatti diriirfama. 40 Sululli
reeffii fi daaraan itti gatamu guutuun, karaa ba'aas sulula Qeedroon qabatee dirreen
hamma Karra Fardaatti jiru hundi WAAQAYYOOF ni qulqulleeffama. Magaalaan kun
gonkumaa lammaffaa hin buqqifamtu yookaan hin diigamtu."

# 32

*Ermiyaas Lafa qotiisaa Bitate*

1 Bara Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa keessa waggaa kudhannaffaatti bara mootum-
maa Nebukadnezar keessa waggaa kudha saddeettaffaatti, dubbiin kun WAAQAYYO
biraa gara Ermiyaas dhufe. 2 Yeroo sanatti loltoonni mootii Baabilon Yerusaalemin
marsanii turan; Ermiyaas raajichi immoo masaraa mootii Yihuudaa keessatti oobdii
eegumsaa keessatti itti cufamee ture.
3 Zedeqiyaa mootichi Yihuudaa akkana jedheenii isa hiisisee ture; "Ati maaliif
akkana jettee raajii dubbatta? 'WAAQAYYO akkana jedha: Ani magaalaa kana dabarsee

mootii Baabilonitti nan kenna; innis ni qabata. 4 Zedeqiyaa mootichi Yihuudaa
dabarfamee mootii Baabilonitti ni kennama malee harka warra Baabilon jalaa hin
ba'u; fuula moootichaa dura dhaabatees isa wajjin dubbata; ija isaatiinis isa ni arga.
5 Innis Zedeqiyaa gara Baabilonitti geessa; Zedeqiyaan hamma ani isa Yaadadhutti
achuma tura, jedha WAAQAYYO. Isin yoo Baabilonota loltan hin milkooftan.' ”

6 Ermiyaas akkana jedhe; “Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe:
7 Hanani'eel ilmi eessuma keetii ilmi Shaluum si bira dhufee, ‘Ati sababii lafa kana
bitachuuf mirga aantummaa qabduuf lafa qotiisaa koo kan Anaatoot keessaa sana
bitadhu' siin jedha.

8 “Ergasii akkuma WAAQAYYO dubbate sana Hanani'eel durbiin koo gara oobdii
eegumsaatti na bira dhufee, ‘Lafa koo kan biyya Beniyaam keessa Anaatoot jiru sana
bitadhu. Waan mirgi furuutii fi dhuunfachuu kan kee ta'eef ati ofii keetii bitadhu'
jedhe.

“Kana irratti ani akka wanni kun dubbii WAAQAYYOO ture nan beeke; 9 kanaafuu
ani lafa qotiisaa Anaatoot jiru sana durbii koo Hanani'eel irraa bitadhee meetii saqilii
kudha torba safaree kenneef. 10 Anis walii galtee sana mallatteessee, chaappaa itti
godhee, dhuga baatota waamee meetii sana madaaliitti safareef. 11 Walii galtee
bittaa fi gurgurtaa jechuunis garagalchaa chaappaa qabu kan akka seeraa fi barteetti
hojjetamee fi kan chaappaa hin qabnee illee nan fudhadhe; 12 geessees fuula durbii
koo Hanani'eelii fi fuula dhuga baatota walii galtee sana irratti mallatteessaniitii fi
fuula Yihuudoota oobdii eegumsaa keessa tataa'aa turan hundaa duratti Baaruk ilma
Neeriyaa ilma Mahiseyaatti kenne.

13 “Anis fuuluma isaanii duratti qajeelcha kana Baarukiif kenne; 14 ‘WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: walii galtee bittaa fi gurgurtaa
kan chaappaa qabuu fi kan chaappaa hin qabne fuudhiitii akka isaan bara dheeraa
turuu danda'aniif lachuu okkotee suphee keessa kaa'i. 15 WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedhaatii; biyya kana keessatti manneen, lafa
qotiisaa fi iddoon dhaabaa wayinii amma illee ni bitamu.'

16 “Anis erga walii galtee bittaa fi gurgurtaa sana Baaruk ilma Neeriyaatti kennee
booddee akkana jedheen WAAQAYYOON kadhadhe:

17 “Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati humna kee guddaa fi irree kee diriirfame sanaan
samiiwwanii fi lafa uumteerta. Wanti ati hin dandeenye tokko iyyuu hin jiru.
18 Ati namoota kumaatamatti jaalala ni argisiifta; garuu sababii cubbuu abbootiitiif
jettee ijoollee isaanii kanneen isaan booddee illee ni adabda. Yaa Waaqa guddaa
fi humna qabeessa maqaan kee WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u dha; 19 kaayyyoon
kee guddaa dha; hojiin kees jabaa dha. Iji kee karaa namaa hunda ilaala; ati
tokkoo tokkoo namaatiif gatii karaa isaatii fi hojii isaatiif malu kennita. 20 Ati Gibxi
keessatti mallattoo fi dinqii hojjettee hamma har'aatti illee Israa'elii fi sanyii namaa
hunda keessatti waan kana ittuma fuftee maqaa hamma ammaatti qabdu kana
argatte. 21 Saba kee Israa'eliin mallattoo fi dinqiidhaan, harka humna qabeessaan,
irree diriirfamaa fi haala akka malee nama sodaachisuun Gibxi keessaa baafte.
22 Biyya aannanii fi damma baasu kan ati abbootii isaaniitiif kennuuf kakatte kana
isaaniif kennite. 23 Isaanis biyyattii seenanii dhaalan; garuu siif hin ajajamne
yookaan seera kee duukaa hin buune. Waan ati akka isaan hojjetan ajajjes hin
hojjenne. Kanaafuu ati badiisa kana hunda isaanitti fidde.

24 “Kunoo magaalaa fudhachuuf tuullaan biyyoo itti marfameera. Sababii
goraadee, beelaatii fi dha'ichaatiif magaalaan kun Baabilonota amma isa lolaa
jiranitti dabarfamee ni kennama. Wanni ati dubbatte sun akkuma ati amma
argitu kana fiixaan ba'eera. 25 Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ati yoo magaalattiin kun

dabarfamtee Baabilonotatti kennamte iyyuu ‘Meetiidhaan lafa qotiisaa bitadhuutii
bittaa fi gurgurtaa isaa illee ragaa qabaachisi’ naan jetta.”

[26] Ergasiis dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: [27] “Ani
WAAQAYYO, Waaqa nama hundaa ti; wanni ani hin dandeenye tokko iyyuu jiraa?
[28] Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha: Ani magaalaa kana dabarsee Baabilono-
taa fi Nebukadnezar mooticha Baabilonitti kennuuf jira; innis ishee ni qabata.
[29] Baabilononni magaalaa kana lolaa jiran kunneen magaalattii seenanii ibidda itti
qabsiisu; isaanis manneen namoonni bantii isaanii irratti Ba’aaliif ixaana aarsuu fi
waaqota biraafis dhibaayyuu dhibaafachuudhaan dheekkamsaaf na kakaasan sana
illee walumaan ni gubu.

[30] “Sabni Israa’elii fi sabni Yihuudaa ijoollummaa isaaniitii jalqabanii fuula
koo duratti waan hamaa malee homaa hin hojjenne; dhugumaan sabni Israa’el
waan harkuma isaaniitiin hojjetaniin dheekkamsaaf na kakaasan malee homaa hin
hojjenne, jedha WAAQAYYO. [31] Magaalattiin kun gaafa ijaaramtee jalqabdee hamma
ammaatti akka ani fuula koo duraa ishee balleessuuf na aarsitee dheekkamsaaf na
kakaaste. [32] Sabni Israa’elii fi sabni Yihuudaa jechuunis isaan, mootonni isaaniitii fi
qondaaltonni isaanii, luboonni isaaniitii fi raajonni isaanii, namoonni Yihuudaatii fi
namoonni Yerusaalem hammina hojjetan hundaan dheekkamsaaf na kakaasaniiru.
[33] Isaan fuula isaanii dhiisanii dugda isaanii natti garagalfatan; yoo ani ammumaa
amma isaan barsiise iyyuu isaan na hin dhaggeeffanne yookaan qajeelfama kootiin
hin geeddaramne. [34] Isaan waaqota isaanii balfamoo sana mana Maqaa kootiin
waamamu keessa dhaabatanii manicha xureessan. [35] Isaanis ilmaan isaaniitii fi
intallan isaanii aarsaa godhanii Moolekiif dhi’eessuuf jedhanii Sulula Ben Hinoom
keessatti Ba’aaliif iddoo sagadaa ijaaran; ani garuu akka isaan waan jibbisiisaa
akkanaa hojjetanii Yihuudaa illee cubbuu hojjechiisan gonkumaa isaan hin ajajne
yookaan wanni kun qalbii koo keessa illee hin turre.

[36] “Ati waa’ee magaalattii kanaa, ‘Isheen goraadeedhaan, beelaa fi dha’ichaan
dabarfamtee mooticha Baabilonitti kennamti’ jetta; WAAQAYYO Waaqni Israa’el
akkana jedha: [37] Ani dhugumaan biyyoota ani aarii koo sodaachisaa fi dheekkamsa
koo guddaadhaan itti isaan ari’e hunda keessaa walitti isaan nan qaba; iddoo kanattis
isaan deebisee nagaan isaan jiraachisa. [38] Isaan saba koo ta’u; anis Waaqa isaanii
nan ta’a. [39] Ani akka isaanittii fi ijoollee isaanii kanneen isaan booddeettis jireenyi
toluuf jedhanii akka bara baraan na sodaataniif garaa tokkoo fi karaa tokko isaaniifin
kenna. [40] Ani kakuu bara baraa isaan wajjin nan gala; akka isaan gonkumaa narraa
hin garagalleef ani waan gaarii isaaniif gochuu hin dhiisu; akka isaan na sodaataniifis
isaan nan kakaasa. [41] Ani waan gaarii isaaniif gochuutti nan gammada; garaa koo
fi lubbuu koo guutuudhaan, amanamummaadhaanis biyya kana keessa isaan nan
dhaaba.

[42] “WAAQAYYO akkana jedha: Ani akkuman badiisa guddaa kana hunda saba kanatti
fide sana waan gaarii waadaa isaaniif seene sana hunda nan kennaaf. [43] Biyya
isin, ‘Biyyattiin kun ontee duwwaa hafteerti; namni yookaan bineensi ishee keessa
hin jiru; isheen dabarfamtee Baabilonotatti kennamteertiitii’ jettanii waa’ee ishee
dubbattan kana keessatti lafti qotiisaa amma illee ni bitama. [44] Biyya Beniyaam
keessatti, gandoota naannoo Yerusaalem keessatti, magaalaawwan Yihuudaatii fi
magaalaawwan biyya gaaraa keessatti, magaalaawwan gaarran dhi’aatii fi kan
Negeeb keessatti lafti qotiisaa meetiidhaan ni bitama; walii galteen bittaa gurgurtaa
isaas mallatteeffamee chaappaan itti godhamee dhuga baatotaan ni rageeffama; ani
boojuu isaanii iddoo duriitti nan deebisaatii, jedha WAAQAYYO.”

# 33

*Waadaa Biyyatti Deebi'uu*

1 Utuu Ermiyaas amma iyyuu oobdii eegumsaa keessatti hidhamee jiruu, dubbiin
WAAQAYYOO yeroo lammaffaa akkana jedhee gara isaa dhufe: 2 "WAAQAYYO inni
lafa uume, WAAQAYYO inni lafa tolchee jabeessee ishee dhaabe, kan maqaan isaa
WAAQAYYO jedhamu sun akkana jedha; 3 'Ati gara kootti iyyadhu; anis deebii siifin
kennaa; waan guddaa fi dhoksaa ati hin beekne sitti nan hima.' 4 WAAQAYYO Waaqni
Israa'el waa'ee manneen magaalaa kanaatii fi waa'ee masaraa mootota Yihuudaa
kanneen ittiin tuulaa biyyootii fi goraadee of irraa dhowwuuf diigaman sanaa akkana
jedhaatii; 5 Baabilononni loluuf ni dhufu; 'Isaanis magaalaa kana reeffa namoota ani
aarii fi dheekkamsa kootiin fixuutiin ni guutu. Ani sababii hammina ishee hundaatii
fi magaalaa kana duraa fuula koo dhokfadheeraatii.

6 " 'Ta'us ani isaan nan fayyisa; nan bayyanachiisas; ani saba koo nan fayyisa; akka
isaan nagaa fi tasgabbii guddaan jiraatan nan godha. 7 Ani Yihuudaa fi Israa'elin
boojuudhaa deebisee akka isaan dur turanitti nan ijaara. 8 Cubbuu isaan natti
hojjetan hunda irraa isaan nan qulqulleessa; cubbuu isaan natti finciluun hojjetan
hundas nan dhiisaaf. 9 Magaalaan kun fuula saboota lafa irraa warra waan gaarii
ani isheef godhe hunda dhaga'an hundaa duratti maqaa, gammachuu, galataa fi
ulfina naa taati; isaan sababii badhaadhummaa fi nagaa ani isheef kennu hundaatiif
sodaatanii hollatan.'

10 "WAAQAYYO akkana jedha: 'Isin waa'ee iddoo kanaa, "Biyyattiin kun ontee
duwwaa hafteerti; namni yookaan bineensi ishee keessa hin jiru" jettu. Ta'u illee
magaalaawwan Yihuudaatii fi daandiiwwan Yerusaalem kanneen duwwaa hafanii
namni yookaan bineensi keessa hin jirre sana keessatti amma illee, 11 sagaleen
ililleetii fi gammachuu, sagaleen misirrichaatii fi misirrittii, sagaleen warra mana
WAAQAYYOOTTI aarsaa dhi'eessanii kan,

"WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u galateeffadhaa;
  WAAQAYYO gaariidhaatii;
  jaalalli isaas bara baraan ni jiraata"

jedhu ni dhaga'ama. Ani booji'amtoota biyyattii akkuma isaan duraan turanittin
deebisaatii' jedha WAAQAYYO.

12 "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: 'Iddoo onaa namni yookaan
horiin keessa hin jiraanne kanaa fi magaalaawwan ishee hunda keessa lafti
dheedaa kan tiksoonni bushaayee isaanii itti boqochiifatan ammas ni jiraata.
13 Magaalaawwan biyya gaaraa keessatti, kanneen gaarran dhi'aatii fi Negeeb
keessatti, biyya Beniyaam keessatti, gandoota naannoo Yerusaalemii fi maga-
alaawwan Yihuudaa keessatti amma illee bushaayeen harka nama isaan to'atuu jala
ni hulluuqu' jedha WAAQAYYO.

14 " 'Barri ani' jedha WAAQAYYO 'waadaa gaarii ani mana Israa'elii fi mana
Yihuudaatiif seene sana itti fiixaan baasu ni dhufa.'

15 " 'Bara sana keessa, yeroo sanatti
  ani akka dameen qajeelaan tokko sanyii Daawit keessaa latu nan godha;
  inni waan qajeelaa fi sirrii ta'e biyyattii keessatti ni hojjeta.

16 Bara sana keessa Yihuudaan ni fayya;
  Yerusaalemis nagaan jiraatti.
Maqaan isheen ittiin waamamtus,
  WAAQAYYO qajeelummaa keenya' jedhama.

17 WAAQAYYO akkana jedhaatii: 'Daawit gonkumaa nama teessoo mana Israa'el irra
taa'u hin dhabu; 18 yookaan luboonni warri Lewwota ta'an gonkumaa nama aarsaa

gubamu dhi’eessuuf, kennaa midhaanii gubuu fi qalma dhi’eessuuf ittuma fufee fuula
koo dura dhaabatu hin dhaban.’ ”
19 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 20 “WAAQAYYO akkana
jedha; ‘Yoo isin akka halkanii fi guyyaan yeroo isaanii kennametti hin dhufneef kakuu
ani halkan wajjin galee fi kakuu ani guyyaa wajjin gale sana cabsuu dandeessan,
21 kakuun ani garbicha koo Daawit wajjin galee fi kakuun ani Lewwota luboota
ta’anii fuula koo dura tajaajilan wajjin gale sun cabuu danda’a; Daawitis si’achi sanyii
teessoo isaa irra taa’ee bulchu hin qabaatu. 22 Ani sanyii garbicha koo Daawitii fi
Lewwota fuula koo dura tajaajilan akkuma urjiiwwan samiitii fi akkuma cirracha
qarqara galaanaa kan madaalamuu hin dandeenyee nan baay’isa.’ ”
23 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 24 “Ati akka uummanni
kun, ‘WAAQAYYO mootummoota filatee ture lamaan gateera’ jechaa jiru hin qalbeef-
fannee? Kanaafuu isaan saba koo tuffataniiru; si’achis akka saba tokkootti isa hin
ilaalan. 25 WAAQAYYO akkana jedha: ‘Ani utuu halkanii fi guyyaa wajjin kakuu koo
jabeessee dhaabuu baadhee, samii fi lafaafis seera kaa’uu baadhee, 26 silaa sanyii
Yaaqoobii fi sanyii tajaajilaa koo Daawit gatee akka inni sanyii Abrahaam, sanyii
Yisihaaqii fi kan Yaaqoob bulchuuf ilmaan isaa keessaa nama tokko hin filadhu ture.
Anis booji’amtoota isaanii nan deebisa; garaa illee nan laafaaf.’ ”

# 34

### *Akeekkachiisa Zedeqiyaaf Kenname*

1 Yeroo Nebukadnezar mootichi Baabiloniitii fi loltoonni isaa hundi, mootum-
moonnii fi saboonni biyya inni bulchu keessa jiraatan hundi Yerusaalemii fi
magaalaawwan naannoo ishee hunda lolaa turanitti dubbiin akkana jedhu tokko
WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe; 2 “WAAQAYYO Waaqni Israa’el akkana jedha:
Gara Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa dhaqiitii akkana jedhiin; ‘WAAQAYYO akkana
jedha: Ani magaalaa kana dabarsee mootii Baabilonitti nan kenna; innis ishee guba.
3 Ati dhugumaan qabamtee dabarfamtee isatti kennamta malee harka isaa jalaa hin
miliqxu. Mootii Baabilon ijuma keetiin ni argita; innis kallattiin si wajjin ni dubbata.
Atis Baabilonitti ni geeffamta.
4 “ ‘Ta’us yaa Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa, ati dubbii WAAQAYYOO dhaga’i.
WAAQAYYO waa’ee kee akkana jedha: Ati goraadeen hin duutu; 5 garuu nagumaan
duuta. Namoonni akkuma ulfina awwaala abbootii keetii mootota siin duraatiif
ibidda qabsiisan sana ulfina keetiif ibidda qabsiisanii, “Wayyoo yaa Gooftaa!”
jedhanii boo’u. Ani mataan koo dubbii kana dubbadheeraatii, jedha WAAQAYYO.’ ”
6 Ermiyaas raajichi Yerusaalem keessatti waan kana hunda Zedeqiyaa mooticha
Yihuudaatti hime; 7 yeroo sanatti loltoonni mootii Baabilon Yerusaalemii fi maga-
alaawwan Yihuudaa jechuunis Laakkiishii fi Azeeqaa lolaa turan. Magaalaawwan
Yihuudaa kanneen dallaa jabaa qaban keessaa kanneen hafan isaanuma kana qofa
turaniitii.

### *Garboota Bilisoomsuu*

8 Erga Zedeqiyaa mootichi bilisummaa garbootaa labsuuf jedhee uummata
Yerusaalem keessa jiraatu hunda wajjin kakuu galee booddee dubbiin tokko
WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe. 9 Tokkoon tokkoo namaa garba isaa dhiiraa
dubartii sanyii Ibrootaa ta’an bilisa baasuu qaba ture; namni kam iyyuu Yihuudii
sanyii isaa ta’e tokko garbummaa keessatti hambisuu hin qabu. 10 Kanaafuu
qondaaltonnii fi namoonni kakuu sana seenan hundi garboota isaanii dhiirotaa
dubartii bilisa baasuu fi akka si’achis isaan hin garboomfanne walii galan. Isaanis
tole jedhanii jara bilisa baasan. 11 Ergasii garuu yaada isaanii geeddaratanii garboota
bilisa baasanii turan sana deebifatanii amma illee garboomfatan.

12 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 13 "WAAQAYYO
Waaqni Israa'el akkana jedha: Ani yeroon Gibxii biyya garbummaatii isaan baasetti
abbootii keessan wajjin akkana jedhee kakuu gale; 14 'Tokkoon tokkoon keessan
waggaa torba torbatti nama sanyii Ibrootaa kan isinitti of gurgure kam iyyuu bilisa
baasuu qabdu. Erga inni waggaa ja'a isin tajaajilee booddee isin gad isa dhiisuu
qabdu.' Abbootiin keessan garuu na hin dhageenye; gurras naa hin kennine.
15 Isin immoo dhi'oo kana qalbii jijjiirrattanii waan fuula koo duratti qajeelaa
ta'e gootaniirtu: Tokkoon tokkoon keessanis lammiiwwan keessaniif bilisummaa
labsitaniirtu. Mana Maqaa kootiin waamamu keessatti fuula koo duratti kakuu
galtaniirtu. 16 Amma garuu garagaltanii maqaa koo xureessitan; tokkoon tokkoon
keessan garboota dhiiraa dubartii isin akka isaan gara fedhan deemaniif bilisa
baaftanii turtan sana deebiftanii fudhattaniirtu. Akka isaan ammas garboota keessan
ta'aniif isaan dirqamsiiftaniirtu.

17 "Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha: Isin naaf hin ajajamne; lammiiwwan
keessaniifis bilisummaa hin labsine. Kanaafuu ani amma, 'Bilisummaa isinii nan
labsa' jedha WAAQAYYO; 'Bilisummaan' kunis bilisummaa goraadeedhaan, dha'ichaa
fi beelaan dhumuu ti. Ani fuula mootummoota lafaa hundaa durattis akka isin
jibbamtan nan godha. 18 Warra kakuu koo cabsanii walii galtee kakuu fuula koo
duratti godhan sanaa hin eegin immoo akkuma jabbii isaan iddoo lamatti qoodanii
gidduu isaanii ba'anii darban sanaa nan godha. 19 Dura buutota Yihuudaatii
fi Yerusaalem, qondaaltota mana murtii, lubootaa fi uummata biyyattii kanneen
jabbii gargar qoodame sana gidduu ba'anii darban hunda, 20 dabarsee diinota
lubbuu isaanii balleessuu barbaadanitti nan kenna. Reeffi isaanii allaattii samiitii
fi bineensota lafaatiif nyaata ni ta'a.

21 "Anis Zedeqiyaa mooticha Yihuudaatii fi qondaaltota isaa dabarsee diinota
isaanii warra lubbuu isaanii balleessuu barbaadanitti, loltoota mootii Baabilon
kanneen isin loluu irraa deebi'anitti nan kenna. 22 Ani ajaja kennee, gara
magaalaa kanaatti deebisee isaan nan fida jedha WAAQAYYO. Isaanis ishee ni lolu;
qabataniis ibiddaan ishee gubu. Anis akka namni tokko iyyuu keessa hin jiraanneef
magaalaawwan Yihuudaa nan onsa."

# 35

### *Rekaabota*

1 Dubbiin bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa turetti WAAQAYYO biraa
gara Ermiyaas dhufe akkana jedha: 2 "Gara mana Rekaabotaa dhaqiitii gara mana
WAAQAYYOOTTI isaan waami; kutaa manaa tokkotti ol isaan galchiitii akka dhuganiif
daadhii wayinii kenniif."

3 Anis dhaqeen Yaazaniyaa ilma Ermiyaas, ilma Habazneyaa, obboloota isaatii
fi ilmaan isaa hunda jechuunis maatii Rekaabotaa guutuu waame. 4 Anis gara
mana WAAQAYYOOTTI isaan fidee kutaa mana ilmaan Haanaan ilma Yigdaaliyaa
nama Waaqaa sanaatti ol galche. Kutaan sunis kutaa qondaaltotaa kan kutaa
Ma'aseyaa ilma Shaluum namicha balbala eegu sanaatii ol jirutti aana ture. 5 Anis
waciitiiwwan daadhii wayiniitiin guutamanii fi xoofoo fuula Rekaabotaa duratti
dhi'eesseen, "Daadhii wayinii kana dhugaa" jedheen.

6 Isaan garuu akkana jedhanii deebisan: "Nu sababii abbaan keenya Yoonaadaab
ilmi Rekaab akkana jedhee nu ajajeef daadhii wayinii hin dhugnu: 'Isin yookaan
sanyiin keessan gonkumaa daadhii wayinii hin dhuginaa. 7 Akkasumas isin mana
ijaarrachuu, sanyii facaafachuu yookaan wayinii dhaabbachuu hin qabdan; isin
yeroo hunda dunkaanota keessa jiraachuu qabdu malee waan kanneen keessaa tokko
illee qabaachuu hin qabdan. Yoos isin biyya itti keessummaa taatan keessa bara

dheeraa ni jiraattu.’ 8 Nu waan abbaan keenya Yehoonaadaab ilmi Rekaab nu ajaje
hunda eegneerra. Nu yookaan niitonni keenya yookaan ilmaanii fi intallan keenya
daadhii wayinii hin dhugne. 9 Yookaan mana keessa jiraannu yookaan wayinii,
lafa qotiisaa yookaan midhaan hin qabnu. 10 Nu dunkaana keessa jiraannee waan
abbaan keenya Yoonaadaab nu ajaje hunda eegneerra. 11 Garuu yeroo Nebukadnezar
mootichi Baabilon biyya kana qabatetti nu, ‘Kottaa; nu Baabilonotaa fi loltoota
Sooriyaa duraa baqannee Yerusaalemitti galuu qabna’ waliin jenne. Akkasiinis nu
Yerusaalem keessatti hafne.”
12 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe: 13 “WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: Dhaqiitii namoota Yihuudaatii
fi saba Yerusaalemiin ‘Isin gorsa koo fudhattanii naaf hin ajajamtanii?’ jedhi, jedha
WAAQAYYO. 14 ‘Yehoonaadaab ilmi Rekaab akka ilmaan isaa daadhii wayinii hin
dhugne ajaje; ajajni kunis eegameera. Isaan sababii ajaja abbaa isaanii eeganiif
hamma har’aatti daadhii wayinii hin dhugan. Ani garuu ammumaa amma isinitti
dubbadheera; isin immoo naaf hin ajajamne. 15 Ani tajaajiltoota koo raajota hunda
ammumaa amma isinitti erge. Isaan akkana isiniin jedhan; “Tokkoon tokkoon
keessan karaa keessan hamaa sana irraa deebitanii hojii keessan qajeelfachuu qabdu.
Isaan tajaajiluuf jettanii waaqota biraa duukaa hin bu’inaa. Yoos isin biyya ani isinii
fi abbootii keessaniif kenne keessa ni jiraattu.” Isin gurra keessan naaf hin kennine,
yookaan na hin dhaggeeffanne. 16 Sanyiin Yehoonaadaab ilma Rekaab ajaja abbaan
isaanii isaaniif kenne eeganiiru; sabni kun garuu naaf hin ajajamne.’
17 “Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha:
‘Dhaggeeffadhaa! Ani Yihuudaattii fi nama Yerusaalem keessa jiraatu hundatti balaa
nan fida jedhee labse sana hunda nan fida. Ani isaanitti dubbadheen ture; isaan
garuu hin dhaggeeffanne. Ani isaan waameen ture; isaan garuu hin owwaanne.’ ”
18 Ermiyaasis maatii Rekaabotaatiin akkana jedhe; “WAAQAYYO Waan Hunda
Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: ‘Isin ajaja abbaa keessan Yehoonaadaab
eegdanii gorsa isaa hunda illee duukaa buutaniirtu; waan inni isin ajaje hundas
hojjettaniirtu.’ 19 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana
jedha: ‘Yoonaadaab ilmi Rekaab gonkumaa nama fuula koo dura dhaabatee na
tajaajilu hin dhabu.’ ”

# 36

### *Barreeffama Kitaaba Maramaa Irraa*

1 Bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa ture keessa waggaa afuraffaatti
dubbiin akkana jedhu WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe: 2 “Kitaaba maramaa
fudhadhuutii dubbii ani bara mootummaa Yosiyaasii jalqabee hamma ammaatti
waa’ee Israa’elii fi waa’ee Yihuudaa, waa’ee saboota kaan hundaas sitti dubbadhe
sana hunda irratti barreessi. 3 Tarii sabni Yihuudaa yeroo waa’ee badiisa ani isaanitti
fiduuf yaade hundaa dhaga’anitti tokkoon tokkoon isaanii karaa isaanii hamaa sana
irraa ni deebi’u ta’a; yoos ani hammina isaaniitii fi cubbuu isaanii nan dhiisaaf.”
4 Ermiyaasis Baaruk ilma Neeriyaa waame; Baaruk immoo dubbii WAAQAYYO
dubbate sana Ermiyaas irraa dhaga’ee kitaaba maramaa irratti barreesse. 5 Ermiyaas
akkana jedhee Baarukin ajaje; “Ani mana WAAQAYYOO seenuu dhowwameera.
6 Kanaafuu ati guyyaa soomaa tokko mana WAAQAYYOO dhaqiitii dubbii WAAQAYYOO
kan narraa dhageessee barreessite sana kitaaba maramaa irraa sabaaf dubbisi.
Namoota Yihuudaa warra magaalaawwan isaanii irraa dhufan hundaaf dubbii sana
dubbisi. 7 Tarii isaan kadhannaa isaanii fuula WAAQAYYOO duratti dhi’eeffatanii
tokkoon tokkoon isaanii karaa isaanii hamaa sana irraa ni deebi’u ta’a; aarii fi
dheekkamsi WAAQAYYO saba kana irratti labse guddadhaatii.”

8 Baaruk ilmi Neeriyaas waan Ermiyaas raajichi isatti hime hunda ni hojjete;
mana WAAQAYYOO keessattis kitaaba maramaa sana irraa dubbii WAAQAYYOO dubbise.
9 Bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaasi mootii Yihuudaa ture keessa ji'a saglaffaa
waggaa shanaffaatti guyyaan fuula WAAQAYYO duratti sooman tokko saba Yerusaalem
keessa jiraatuu fi warra magaalaawwan Yihuudaatii dhufan hundaaf ni labsame.
10 Baarukis kutaa Gemaariyaa ilma Shaafaan barreessaa sanaa kan oobdii ol
aanaa keessa balbala mana qulqullummaa, kan Karra Haaraa jedhamu biraa sana
keessa dhaabatee saba mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa ture hundaaf dubbii
Ermiyaas sana kitaaba maramaa irraa dubbise.

11 Miikiyaas ilmi Gemaariyaa ilma Shaafaan yeroo dubbii WAAQAYYOO hunda
kitaaba maramaa irraa dhaga'etti, 12 gara kutaa barreessaa kan masaraa mootummaa
keessaa, iddoo qondaaltonni hundi tataa'aa turanitti gad bu'e; isaanis Eliishaa-
maa barreessaa, Delaayaa ilma Shemaa'iyaa, Elnaataan ilma Akboor, Gemaariyaa
ilma Shaafaan, Zedeqiyaas ilma Hanaaniyaatii fi qondaaltota biraa hundaa dha.
13 Miikiyaas waan yeroo Baaruk kitaaba maramaa irraa uummataaf dubbisetti
dhaga'e sana hunda isaaniitti hime. 14 Qondaaltonni hundis akka inni Baarukiin,
"Kitaaba maramaa uummataaf dubbifte sana fidii kottu" jedhuuf Yehuudii ilma
Naataaniyaa, ilma Shelemiyaa, ilma Kuushii ergan. Kanaafuu Baaruk ilmi Neeriyaa
kitaaba maramaa sana harkatti qabatee gara isaanii dhaqe. 15 Jarris, "Maaloo, taa'iitii
kitaabicha nuu dubbisi" jedhaniin.

Kanaafuu Baaruk kitaaba sana isaaniif dubbise. 16 Isaanis yommuu dubbii kana
hunda dhaga'anitti sodaadhaan wal ilaalanii Baarukiin, "Nu waan kana hunda
mootichatti himuu qabna" jedhan. 17 Ergasii isaan Baarukiin, "Mee nutti himi; ati
akkamitti waan kana hunda barreessite? Ermiyaasitu sitti himee?" jedhanii gaafatan.

18 Baarukis, "Eeyyee, Ermiyaasitu dubbii kana hunda natti hime; ani immoo
qalamiidhaan kitaaba maramaa irratti barreesse" jedhee deebise.

19 Kana irratti qondaaltonni sun Baarukiin, "Atii fi Ermiyaas dhaqaa dhokadhaa.
Namni tokko iyyuu iddoo isin jirtan hin beekin" jedhan.

20 Isaanis kitaaba maramaa sana kutaa Eliishaamaa barreessaa sanaa keessa
kaa'anii mooticha bira gara oobdii dhaqanii waan hunda isatti himan. 21 Mootichis
akka inni kitaabicha fiduuf Yihuudii erge; Yehuudiinis kutaa Eliishaamaa barreessaa
sanaa keessaa kitaabicha fidee mootichaa fi qondaaltota isa bira dhaabachaa turan
hundaaf dubbise. 22 Yeroon sun ji'a saglaffaa ture; mootichis mana itti yeroo gannaa
dabarsu keessa taa'aa ture; ibiddi girgiraa guddaa irratti boba'us fuula isaa dura
ture. 23 Yommuu Yehuudiin kitaaba maramaa sana keessaa bo'oo sadii yookaan afur
dubbisutti, mootichi hamma kitaabni sun guutumaan guutuutti gubatee dhumutti
haaduu barreessaatiin kukkutee girgiraa ibiddaatti darbachaa ture. 24 Ta'u illee
mootichii fi tajaajiltoonni isaa kanneen dubbii kana hunda dhaga'an hundi homaa
hin sodaanne yookaan uffata isaanii hin tarsaafne. 25 Mootichi yoo Elnaataan,
Delaayaa fi Gemaariyaan akka inni kitaabicha hin gubneef isa kadhatan iyyuu isaan
hin dhageenye. 26 Qooda kanaa mootichi akka isaan Baaruk barreessaa sanaa fi
Ermiyaas raajicha hidhaniif Yerami'eel ilma mootii, Seraayaa ilma Azrii'eeliitii fi
Shelemiyaa ilma Abdi'eel ajaje. WAAQAYYO garuu isaan dhoksee ture.

27 Erga mootichi kitaaba maramaa kan Baaruk dubbii Ermiyaas irraa dhaga'e
itti barreesse sana gubee booddee dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Er-
miyaas dhufe: 28 "Kitaaba maramaa biraa fuudhiitii dubbii kitaabicha duraa
kan Yehooyaaqiim mootichi Yihuudaa gube irra ture sana hunda itti barreessi.
29 Yehooyaaqiim mooticha Yihuudaatiinis akkana jedhi; 'WAAQAYYO akkana jedha:
Ati kitaaba maramaa sana gubdee, "Ati maaliif akka mootiin Baabilon dhugumaan
dhufee biyya kana balleessee namaa fi horii keessaa hobbaasu kitaabicha irratti

barreessite?” jettee gaafatte. 30 Kanaafuu WAAQAYYO waa’ee Yehooyaaqiim mooticha
Yihuudaa akkana jedha: Inni nama teessoo Daawit irra taa’u hin qabaatu; reeffi
isaas gad darbatamee ho’a guyyaatii fi qorra halkaniitti ni saaxilama. 31 Ani sababii
hammina isaaniitiif isa, ijoollee isaatii fi tajaajiltoota isaa nan adaba; sababii isaan na
dhaggeeffachuu didaniif ani balaa isaanittin fida jedhee labse sana hunda isaanitti,
namoota Yerusaalem keessa jiraatanii fi namoota Yihuudaatti nan fida.’ ”

32 Ergasii Ermiyaas kitaaba maramaa kan biraa fuudhee Baaruk ilma Neeriyaa
barreessaa sanatti kenne; Baarukis akkuma Ermiyaas itti himetti dubbii kitaaba
maramaa Yehooyaaqiim mootichi Yihuudaa ibiddaan gube sana irra ture hunda itti
barreesse. Dubbiin dubbii kana fakkaattu hedduunis itti dabalameera.

# 37

*Ermiyaas Hidhamuu Isaa*

1 Nebukadnezar mootichi Baabilon Zedeqiyaa ilma Yosiyaas mootii Yihuudaa
taasise; innis iddoo Yehooyaakiin ilma Yehooyaaqiim bu’ee mootii ta’e. 2 Garuu
inni yookaan tajaajiltoonni isaa yookaan sabni biyya sanaa dubbii WAAQAYYO karaa
Ermiyaas raajichaatiin dubbate sana hin qalbeeffanne.

3 Ta’us Zedeqiyaa mootichi, “Maaloo WAAQAYYO Waaqa keenya nuu kadhadhu”
jedhee Yehuukal ilma Shelemiyaatii fi Sefaaniyaa lubicha ilma Ma’aseyaa gara
Ermiyaas raajichaatti erge.

4 Ermiyaas waan yeroo sanatti mana hidhaatti hin galfaminiif sodaa malee saba
gidduu ni deddeebi’a ture. 5 Loltoonni Fara’oon Gibxii ba’anii turan; Baabilononni
Yerusaalemin marsanii turanis yommuu waan kana dhaga’anitti Yerusaalemin
dhiisanii ba’an.
6 Kana irratti dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas raajichaa dhufe:
7 “WAAQAYYO, Waaqni Israa’el akkana jedha: Mooticha Yihuudaa isa akka isin
waa na gaafattaniif isin erge sanaan akkana jedhaa; ‘Loltoonni Fara’oon kanneen
isin gargaaruuf dhufan sun gara biyya isaanii, gara Gibxitti ni deebi’u. 8 Ergasii
Baabilononni deebi’anii magaalaa kana ni dha’u; ni qabatu; ni gubus.’

9 “WAAQAYYO akkana jedha: ‘Baabilononni dhugumaan nu dhiisanii deemu’ jettanii
yaaduudhaan of hin gowwoomsinaa; isaan hin deemaniitii! 10 Utuu isin loltoota
Baabilonotaa kanneen isin lolaa jiran kana hunda mo’attanii warri madaa’an qofti
dunkaana isaanii keessatti hafanii iyyuu isaan gad ba’anii magaalaa kana ni gubu.”

11 Erga loltoonni Baabilonotaa sababii waraana Fara’ooniif jedhanii Yerusaalemin
dhiisanii ba’anii as, 12 Ermiyaas saba achi jiraatu keessaa qooda qabeenyaa kan isa
ga’u argachuuf jedhee Yerusaalemii ka’ee biyya Beniyaam dhaqe. 13 Garuu yeroo
inni karra Beniyaam bira ga’etti Yiriyaan ilmi Shelemiyaa, ilmi Hanaaniyaa itti
gaafatamaan eegumsaa sun, “Ati gara Baabilonotaatti sokkaa jirta!” jedhee Ermiyaas
raajicha qabee hidhe.

14 Ermiyaas immoo, “Kun dhugaa miti! Ani gara Baabilonotaatti sokkuutti hin
jiru” jedhe. Yiriyaan garuu isa dhaga’uu dide; qooda kanaa Ermiyaasin qabee
qondaaltotatti dhi’eesse. 15 Isaanis Ermiyaasitti aaranii isa tuman; mana Yoonaataan
barreessaa sanaa kan mana hidhaa godhatan sana keessatti isa hidhan.

16 Ermiyaasis kutaa mana boollaa keessa buufame; achis yeroo dheeraa ture.
17 Ergasii Zedeqiyaa Mootichi nama itti ergee gara masaraa ofii isaatti isa fichisiise.
Achittis kophaatti baasee, “Dubbiin WAAQAYYO biraa dhufe tokko iyyuu jiraa?” jedhee
isa gaafate.

Ermiyaasis, “Eeyyee; ati dabarfamtee mootii Baabiloniitti ni kennamta” jedhee
deebise.

18 Ergasiis Ermiyaas, Zedeqiyaas mootichaan akkana jedhe; “Ani sitti yookaan
qondaaltota keetti yookaan saba kanatti balleessaa maalii hojjennaan isin mana
hidhaa keessa na buuftan? 19 Raajonni kee warri, ‘Mootiin Baabilon si’i yookaan
biyya kana hin lollu’ jedhanii raajii siif dubbatan sun eessa jiru? 20 Amma garuu
gooftaa koo yaa mootichaa, maaloo na dhaga’i. Ani iyyata koo fuula kee duratti nan
dhi’eeffadhaatii, mana Yoonaataan barreessaa sanaatti deebiftee na hin ergin; yoo
ati na ergite ani achumatti du’aatii.”

21 Kana irratti Zedeqiyaa Mootichi akka Ermiyaas oobdii eegumsaa keessa
kaa’amuu fi akka isaan hamma buddeenni magaalaa sanaa dhumutti guyyaa
guyyaatti buddeena tokko tokko warra buddeena tolchan irraa fuudhanii isaaf
kennan ajaje. Akkasiin Ermiyaas oobdii eegumsaa keessa ture.

# 38

*Ermiyaas Boolla Bishaaniitti Darbatame*

1 Shefaaxiyaa ilmi Mataan, Gedaaliyaas ilmi Phaashihuur, Yuukaal ilmi
Shelemiyaatii fi Phaashihuur ilmi Malkiyaa waan Ermiyaas akkana jedhee saba
hundatti hime dhaga’an; 2 “WAAQAYYO akkana jedha: ‘Namni magaalaa kana keessatti
hafu kam iyyuu goraadeen, beelaan yookaan dha’ichaan ni du’a; namni gara
Baabilonotaatti baqatu kam iyyuu garuu ni jiraata. Inni lubbuu isaatiin ni ba’a; ni
jiraatas.’ 3 WAAQAYYO akkana jedha: ‘Magaalaan kun dhugumaan dabarfamtee harka
waraana mootii Baabilonitti ni kennamti; innis ishee qabata.’ ”

4 Kana irratti qondaaltonni sun mootichaan akkana jedhan; “Namichi kun
ajjeefamuu qaba. Inni waan isaanitti dubbatuun loltoota magaalaa kana keessatti
hafanii fi namoota hunda onnee dhabsiisa. Namichi kun saba kanaaf badiisa malee
waan gaarii hin hawwu.”

5 Zedeqiyaa Mootichi immoo, “Inni harkuma keessan keessa jira; mootiin isiniin
mormee homaa gochuu hin danda’u” jedhee deebise.

6 Kanaafuu isaan Ermiyaasin fuudhanii boolla bishaanii kan Malkiyaa ilma
mootichaa keessa buusan; boolli bishaanii sunis oobdii eegumsaa keessa ture. Isaan
funyoodhaan Ermiyaasin boolla sana keessa buusan; boolli sun dhoqqee malee
bishaan hin qabu ture; Ermiyaasis dhoqqee keessa dhidhime.

7 Garuu Ebeed-Melek qondaalli Itoophiyaa kan masaraa mootii keessa ture sun
akka isaan Ermiyaasin boolla bishaanii keessa buusan dhaga’e. Utuma mootichi
Karra Beniyaam bira taa’ee jiruus, 8 Ebeed-Melek masaraadhaa ba’ee dhaqee akkana
isaan jedhe; 9 “Yaa gooftaa koo mooticha, jarri kun waan Ermiyaas raajicha godhan
hundaan waan hamaa hojjetaniiru. Isaan akka inni beelaan du’uuf yeroo buddeenni
tokko iyyuu magaalaa keessa hin jirretti boolla bishaanii keessa isa buusan.”

10 Mootichis ergasii Ebeed-Melek namicha Itoophiyaa sanaan, “Nama soddoma asii
fudhadhuu dhaqiitii utuu inni hin du’in Ermiyaas raajicha boolla bishaanii keessaa
baasi” jedhee ajaje.

11 Kanaafuu Ebeed-Melek namoota sana fudhatee gara kutaa mankuusaa masaraa
mootichaa keessaatiin jala jiru sanaa dhaqe. Innis darsaa fi wayyaa moofaa achii
fudhatee funyoon gara boolla bishaaniitti Ermiyaasiif gad buuse. 12 Ebeed-Melek
namichi Itoophiyaa sunis Ermiyaasiin, “Akka funyoon si hin luqqisneef darsaa fi
wayyaa moofaa bobaa kee jala kaa’adhu” jedhe. Ermiyaasis akkasuma godhe;
13 isaanis funyoo sanaan ol harkisanii boolla bishaanii keessaa isa baasan. Ermiyaasis
oobdii eegumsaa keessa ture.

*Zedeqiyaa Ammas Ermiyaasin Gaaffii Gaafate*

14 Zedeqiyaa Mootichi Ermiyaasitti nama ergee gara balbala sadaffaa mana
qulqullummaa WAAQAYYOOTTI isa fichisiise. Mootichis Ermiyaasiin, “Ani waa sin
gaafadha; ati waan tokko illee na hin dhoksin” jedhe.
15 Ermiyaasis Zedeqiyaadhaan, “Yoo ani deebii siif kenne, ati na hin ajjeeftuu? Yoo
ani si gorse iyyuu ati na hin dhageessu” jedhe.
16 Zedeqiyaa Mootichi garuu, “Dhugaa WAAQAYYO jiraataa isa jireenya nuu kenne
sanaa ani si hin ajjeesu; warra lubbuu kee balleessuu barbaadanittis dabarsee si hin
kennu” jedhee kakuu kana dhoksaatti Ermiyaasiif kakate.
17 Kana irratti Ermiyaas deebisee Zedeqiyaadhaan akkana jedhe; “WAAQAYYO
Waaqni, inni Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: ‘Yoo ati
qondaaltota mootii Baabilonitti harka kennatte lubbuun kee du’a ni oolfamti;
magaalaan kunis hin gubamtu; atii fi maatiin kee ni jiraattu. 18 Garuu yoo ati
qondaaltota mootii Baabilonitti harka kennachuu baatte magaalaan kun dabarfamtee
Baabilonotatti ni kennamti; isaanis ishee gubu; ati mataan kee iyyuu isaan jalaa hin
baatu.’ ”
19 Zedeqiyaa Mootichi Ermiyaasiin, “Ani Yihuudoota Baabilonotatti galan nan
sodaadha; Baabilononni dabarsanii isaanitti na kennanii isaan immoo natti taphatuu-
tii” jedhe.
20 Ermiyaasis akkana jedhee deebise; “Isaan dabarsanii si hin kennan; ati waan ani
sitti himu gochuudhaan WAAQAYYOOF ajajami. Yoos ati milkooftee lubbuun kees du’a
oolfamti. 21 Garuu yoo ati harka kennachuu didde, WAAQAYYO waan kana naa ibseera:
22 Dubartoonni mana mootii Yihuudaa keessatti hafan hundi gara qondaaltota mootii
Baabilonitti geeffamu. Dubartoonni sunis akkana jedhu:
“ ‘Michoonni kee kanneen ati amanatte sun,
si gowwoomsanii; si mo’atan.
Miilli kee dhoqqee keessa lixe;
michoonni kees si dhiisanii deeman.’
23 “Niitonni keetii fi ijoolleen kee hundi Baabilonotatti geeffamu. Ati mataan kee
iyyuu mootii Baabiloniin qabamta malee isaan harkaa hin baatu; magaalaan kunis
ni gubamti.”
24 Zedeqiyaan Ermiyaasiin akkana jedhe; “Dubbii nu amma dubbanne kana namni
tokko iyyuu hin beekin; yoo kanaa achii ati ni duutaa. 25 Yoo qondaaltonni akka ani
si wajjin haasa’e dhaga’anii si bira dhufanii, ‘Waan ati mootiidhaan jettee fi waan
mootiin siin jedhe nutti himi; nu hin dhoksin; yoo kanaa achii nu si ajjeefnaa’ siin
jedhan, 26 ‘Ani akka inni gara mana Yoonaataanitti deebisee na ergee anis achitti hin
duuneef mooticha kadhachaa ture’ jedhiin.”
27 Ergasii qondaaltonni hundi dhufanii Ermiyaasin gaafatan; innis waan mootichi
akka inni dubbatu isa ajaje hunda isaanitti hime. Sababii namni waan inni mooticha
wajjin dubbate dhaga’e tokko iyyuu hin turiniif, jarri waan kana caalaa homaa isatti
hin dubbanne.
28 Ermiyaasis hamma gaafa Yerusaalem qabamteetti oobdii eegumsaa sana keessa
ture.

# 39

*Kufaatii Yerusaalem*
*39:1-10 kwf – 2Mt 25:1-12; Erm 52:4-16*
1 Akki Yerusaalem itti fudhatamte kana ture: Bara Zedeqiyaa Mooticha Yihuudaa
keessa ji’a kurnaffaa waggaa saglaffaatti, Nebukadnezar mootichi Baabilon loltoota
isaa hunda wajjin duulee Yerusaalemin marse. 2 Bara Zedeqiyaa keessa bultii
saglaffaa ji’a afuraffaa waggaa kudha tokkoffaatti, dallaan magaalaa sanaa ni
cabsame. 3 Ergasii qondaaltonni mootii Baabilon hundi dhufanii Karra Giddu

Galeessa dura tataa’an; isaanis Nergaal-Sharezer namicha Samgaar, Neboo-Sarsekiim
ajajaa hangafa, Nergaal-Sharezer shuumii hangafaa fi qondaaltota mootii Baabilon
hundaa dha. 4 Zedeqiyaa Mooticha Yihuudaatii fi loltoonni hundi yommuu jara
arganitti ni baqatan; isaanis halkaniin karaa biqiltuu mootichaatiin magaalaa keessaa
ba’anii karra dallaa lamaan gidduutiin gara Arabbaatti qajeelan.
5 Loltoonni Baabilonotaa garuu isaan ari’anii dirree Yerikoo irratti Zedeqiyaa
in qaqqaban. Isaanis isa qabanii Riiblaa Hamaati keessatti gara Nebukadnezar
mooticha Baabilonitti geessan; mootichis achitti isatti mure. 6 Mootiin Baabilonis
achuma Riiblaatti ijuma isaa duratti ilmaan Zedeqiyaa gorra’ee namoota Yihuudaa
bebeekamoo hundas ajjeese. 7 Innis ergasii Zedeqiyaa keessaa ija isaa baasee
Baabilonitti isa geessuuf foncaa naasiitiin isa hidhe.
8 Baabilononnis masaraa mootiitii fi manneen sabaatti ibidda qabsiisanii dallaa
Yerusaalem diigan. 9 Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa, namoota magaalaa keessatti
hafan, namoota isatti harka kennatanii fi namoota kaan wajjin booji’ee Baabilonitti
geesse. 10 Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun garuu hiyyeeyyii homaa hin qabne
tokko tokko biyya Yihuudaatti hambise; innis yeroo sanatti iddoo dhaabaa wayiniitii
fi lafa qotiisaa kenneef.
11 Nebukadnezar mootichi Baabilon akkana jedhee karaa Nebuzaradaan aja-
jaa eegumsaa sanaatiin waa’ee Ermiyaas ajaja kenne: 12 “Isa fuudhiitii akka
gaarii kunuunsi; waan inni barbaadu kam iyyuu godhiif malee isa hin miid-
hin.” 13 Kanaafuu Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun Nebuushazbaan shuumiin
hangafti, Nergaal-Sharezer shuumiin ol aanaan, akkasumas qondaaltonni mootii
Baabilon kaan hundi 14 ergamanii oobdii eegumsaa keessaa Ermiyaasin baasisan.
Isaanis akka Gedaaliyaas ilmi Shaafaan, ilmi Ahiiqaam mana isaatti isa geessuuf
imaanaa itti kennan. Ermiyaasis akkasiin saba ofii isaa keessa jiraate.
15 Utuma Ermiyaas oobdii eegumsaa keessatti hidhamee jiruu dubbiin WAAQAYYOO
akkana jedhee gara isaa dhufe: 16 “Dhaqiitii Ebeed-Melek namicha Itoophiyaa sanaan
akkana jedhi; ‘WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: Ani
dubbii koo waan tolaadhaaf utuu hin ta’in waan hamaadhaaf magaalaa kana irratti
fiixaan nan baasa. Yeroo sanatti wanni kun ijuma kee duratti fiixaan ba’a. 17 Ani
garuu gaafas sin oolcha, jedha WAAQAYYO; ati dabarfamtee warra sodaattu sanatti
hin kennamtu. 18 Ani sin baasa; ati waan na amanattuuf lubbuu keetiin baata malee
goraadeedhaan hin duutu, jedha WAAQAYYO.’ ”

# 40

*Ermiyaas Gad Dhiifame*

1 Erga Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun Raamaatti gad isa dhiisee booddee
dubbiin kun WAAQAYYO biraa gara Ermiyaas dhufe. Ajajaan sun isaa booji’amtoota
Yerusaalemii fi Yihuudaadhaa booji’amanii gara Baabilonitti geeffamaa turan hunda
gidduutti foncaan hidhamee jiru Ermiyaasin arge. 2 Ajajaan eegumsaa sunis yommuu
Ermiyaasin argetti akkana jedheen; “WAAQAYYO Waaqni kee badiisa kana iddoo
kanatti labseera. 3 WAAQAYYO amma iyyuu waan kana fideera; inni akkuma dubbate
sana godheera. Sababii isin WAAQAYYOTTI cubbuu hojjettanii fi isaaf hin ajajaminiif
wanni kun hundi ta’e. 4 Ani garuu har’a foncaa harka keetii sirraa hiikeera. Ati yoo
na wajjin Baabilon dhaquu feete kottu; anis sin kunuunsaa; yoo fedhuu baatte garuu
hin dhufin. Kunoo biyyattiin guutumaan guutuutti fuula kee dura jirti; iddoo jaallatte
dhaqi.” 5 Ta’us utuu Ermiyaas of irra hin deebi’in Nebuzaradaan itti dabalee, “Gara
Gedaaliyaas ilma Shaafaan ilma Ahiiqaam isa mootichi Baabilon magaalaawwan
Yihuudaa irratti muude sanaa deebi’iitii isa wajjin saba keessa jiraadhu, yookaan
iddoo jaallatte kam iyyuu dhaqi” jedheen.

Akkasiin ajajaan eegumsaa sun galaa fi kennaa kenneefii gad isa dhiise. 6 Kanaafuu
Ermiyaas gara Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam kan Miisphaa jiraatu sanaa dhaqee isa
wajjin saba biyya sanatti hafe gidduu jiraate.

### *Ajjeefamuu Gedaaliyaas*
*40:7-9; 41:1-3 kwf – 2Mt 25:22-26*

7 Ajajjoonni loltootaa hundii fi namoonni isaanii kanneen hamma yeroo sanaatti
ala turan yeroo akka mootichi Baabilon Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam sana bulchaa
kutaa biyyaa godhee muudee fi akka inni dhiiraa dubartii fi ijoollee hiyyeeyyii
kanneen booji'amanii gara Baabilonitti hin geeffamin irratti itti gaafatama ken-
neef dhaga'anitti, 8 Gedaaliyaas bira gara Miisphaa dhufan. Isaanis Ishmaa'eel
ilma Naataaniyaa, Yoohaanaanii fi Yoonaataan ilmaan Qaareyaa, Seraayaa ilma
Tanhumeeti, ilmaan Eefayi namicha Netoof sanaatii fi Yezaaniyaa ilma namicha
Ma'akaat, akkasumas namoota isaanii turan. 9 Gedaaliyaas ilmi Shaafaan, ilmi
Ahiiqaam akkana jedhee isaanii fi namoota isaaniitiif kakate; "Baabilonota tajaajiluu
hin sodaatinaa; biyyattii keessa qubadhaatii mooticha Baabilon tajaajilaa; waan
gaariitu isinii ta'aatii. 10 Ani mataan koo fuula Baabilonota gara keenya dhufanii
duratti iddoo keessan bu'uuf Miisphaa keessa nan tura; isin garuu wayinii, ija
bonaatii fi zayitii walitti qabaatii gombisaatti naqadhaa; magaalaawwan qabattan
keessas jiraadhaa."

11 Yihuudoonni Mo'aab, Amoon, Edoomii fi biyyoota biraa hunda keessa jiraatan
hundi yommuu akka mootiin Baabilon Yihuudaa keessatti hambaa hambisee fi
akka inni Gedaaliyaas ilma Shaafaan ilma Ahiiqaam bulchaa godhee isaan irratti
muude dhaga'anitti, 12 hundi isaanii biyyoota itti bittinnaa'an hunda keessaa ba'anii
Yihuudaatti deebi'anii Miisphaatti Gedaaliyaas bira dhufan. Isaanis wayinii fi ija
bonaa baay'ee walitti qabatan.

13 Yeroo kanatti Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi ajajjoonni loltoota ala turanii
hundi Gedaaliyaas bira Miisphaa dhaqanii, 14 akkana jedhaniin; "Ati akka mootiin
Amoonotaa Ba'aaliis jedhamu sun si ajjeesuuf jedhee, Ishmaa'eel ilma Naataaniyaa
erge hin beektuu?" Gedaaliyaas ilmi Ahiiqaam garuu isaan hin amanne.

15 Kana irratti Yoohaanaan ilmi Qaareyaa Miisphaa keessatti Gedaaliyaasin
kophaatti baasee akkana jedheen; "Akka ani dhaqee Ishmaa'eel ilma Naataaniyaa
sana ajjeesu naa eeyyami; namni tokko iyyuu waan kana hin beeku. Inni maaliif si
ajjeesee akka Yihuudoonni naannoo keetti walitti qabaman hundi bittinneeffamanii
hambaan Yihuudaas barbadaa'u godha?"

16 Gedaaliyaas ilmi Ahiiqaam garuu, Yoohaanaan ilma Qaareyaatiin, "Ati waan
akkasii hin hojjetin! Wanni ati waa'ee Ishmaa'eel dubbattu kun dhugaa mitii" jedhe.

## 41

1 Ji'a torbaffaa keessa Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa, ilma Eliishaamaa kan sanyii
moototaa irraa dhalatee fi ajajjoota loltoota mootichaa keessaa tokko ture sun
namoota kudhan wajjin Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam bira Miisphaa dhufe. Achittis
utuma wajjin waa nyaatanuu 2 Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaatii fi namoonni kurnan isa
wajjin turan sun ka'anii goraadeedhaan Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam, ilma Shaafaan
isa mootiin Baabilon bulchaa kutaa biyyaa godhee muude sana rukutanii ajjeesan.
3 Ishmaa'eel akkasumas Yihuudoota Gedaaliyaas wajjin Miisphaa turan hundaa fi
loltoota Baabilonotaa kanneen achi turan illee ni fixe.

4 Gedaaliyaas ajjeefamee guyyaa itti aanutti utuu namni tokko iyyuu hin beekin,
5 namoonni areeda isaanii haaddatanii, wayyaa isaanii tatarsaasanii, of cicci-
ran Saddeettamni kennaa midhaaniitii fi ixaana qabatanii Sheekemii, Shiiloo fi
Samaariyaadhaa gara mana WAAQAYYOO dhufan. 6 Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaas

jara simachuuf Miisphaadhaa boo'aa gad ba'e. Yommuu isaan argettis "Gara
Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam kottaa" jedheen. 7 Yeroo isaan magaalaa sana seenanitti
immoo Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaatii fi namoonni isa wajjin turan jara sana
gogorra'anii boolla bishaaniitti gad darbatan. 8 Namoonni utuu hin ajjeefamin hafan
kudhan garuu Ishmaa'eeliin, "Nu hin ajjeesin! Nu qamadii fi garbuu, zayitii fi
damma lafa qotiisaa keessa dhokfanne qabnaatii" jedhan. Kanaafuu inni gad isaan
dhiise; warra kaan wajjinis isaan hin ajjeefne. 9 Boolli bishaanii Ishmaa'eel reeffa
namoota Gedaaliyaas wajjin ajjeefaman sanaa hunda itti naqe sun boolla bishaanii
Aasaan Mootichi ittiin Ba'ishaan mooticha Israa'el of irraa dhowwuuf hojjetate ture.
Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa boolla bishaanii sana reeffa namaatiin guute.

10 Ishmaa'eel namoota Miisphaa keessaa hafan hunda intallan mootichaatii fi
warra achitti hafan kanneen Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun Gedaaliyaas ilma
Ahiiqaam isaan irratti shuumee ture hunda booji'e. Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaas
isaan fudhatee gara Amoonotaatti ce'uuf ka'ee qajeele.

11 Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi ajajjoonni waraanaa kanneen isa wajjin turan
hundi yeroo waa'ee yakka Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa hojjete hundaa dhaga'anitti
12 namoota isaanii hunda fudhatanii Ishmaa'eel ilma Naataaniyaa loluu dhaqan.
Isaanis haroo Gibe'oon guddicha biratti isa qaqqaban. 13 Namoonni Ishmaa'eel wajjin
turan hundi yommuu Yoohaanaan ilma Qaareyaatii fi ajajjoota loltootaa kanneen isa
wajjin turan arganitti ni gammadan. 14 Namoonni Ishmaa'eel Miisphaadhaa booji'ee
ture hundis isa biraa deebi'anii gara Yoohaanaan ilma Qaareyaa dhaqan. 15 Garuu
Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaatii fi namoota isaa keessaa saddeeti Yoohaanaan jalaa
miliqanii gara Amoonotaatti baqatan.

### *Gara Gibxitti Baqachuu*

16 Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi ajajjoonni loltoota warri isa wajjin turan
hundi namoota Miisphaa warra Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa erga Gedaaliyaas ilma
Ahiiqaam ajjeesee booddee booji'e kaan hunda fuudhanii deeman; isaanis loltoota,
dubartoota, ijoollee fi qondaaltota mana murtii kanneen Yoohaanaan Gibe'oonii
deebisee fidee dha. 17 Isaanis achii ka'anii gara Gibxitti qajeeluudhaan Beetlihem
biratti Geeroti Kimhaam keessa boqotan; 18 kunis Baabilonota jalaa miliquuf
ture. Isaan sababii Ishmaa'eel ilmi Naataaniyaa sun Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam
isa mootiin Baabilon biyyattii irratti bulchaa godhee shuume sana ajjeeseef jara
sodaatan.

## 42

1 Ergasii ajajjoonni waraanaa hundi Yoohaanaan ilma Qaareyaatii fi Yezaaniyaa
ilma Hoosha'iyaa dabalatee, namni hundi, xinnaa guddaan dhufanii 2 Ermiyaas
raajichaan akkana jedhan; "Maaloo kadhaa keenya dhaga'iitii hambaa kana hundaaf
WAAQAYYO Waaqa kee kadhadhu. Nu dur baay'ee turre; amma garuu akkuma ati
argitu kana nu nama muraasa qofattu hafe. 3 Akka WAAQAYYO Waaqni kee gara nu
dhaquu qabnuu fi waan nu gochuu qabnu nutti himuuf nuu kadhadhu."

4 Ermiyaas raajichis, "Ani isin dhaga'eera; akkuma isin na gaafattan sana ani
dhugumaan WAAQAYYO Waaqa keessan nan kadhadha. Waan WAAQAYYO dubbatu
hundas isinitti nan hima; waan tokko illees isin hin dhoksu" jedhee deebise.

5 Jarris Ermiyaasiin akkana jedhan; "Yoo nu akkuma WAAQAYYO Waaqni kee akka
ati nutti himtuuf si erge sana gochuu baanne WAAQAYYO mataan isaa dhuga baatuu
dhugaatii fi amanamaa nutti haa ta'u. 6 Akka yeroo nu dubbii WAAQAYYO Waaqa
keenyaatiif ajajamnutti wanni hundi nutti toluuf yoo wanni sun jaallatamaa yookaan
jibbamaa ta'e illee nu dubbii WAAQAYYO Waaqa keenyaa kan itti si erganne sanaatiif
ni ajajamna."

7 Dubbiin WAAQAYYOOS guyyaa kudhan booddee gara Ermiyaas dhufe. 8 Kanaafuu
inni Yoohaanaan ilma Qaareyaatii fi ajajjoota waraanaa kanneen isa wajjin turan
hunda, akkasumas nama xinnaa guddaa hunda walitti waame. 9 Innis akkana
isaaniin jedhe; “WAAQAYYO Waaqni Israaʼel inni isin akka ani iyyata keessan itti isinii
dhiʼeessuuf itti na ergitan sun akkana jedha: 10 ‘Yoo biyya kana keessa turtan, ani
isinan ijaara malee isin hin diigu; ani isinan dhaaba malee isin hin buqqisu; ani
badiisa isinitti fide sanaaf gaabbeeraatii. 11 Mootii Baabilon isa amma sodaattan kana
hin sodaatinaa. Ani isin baraaree harka isaatii isin baasuuf isin wajjin jiraatii. Isa
hin sodaatinaa, jedha WAAQAYYO. 12 Ani akka inni garaa isinii laafee biyya keessanitti
isin deebisuuf garaa isiniif nan laafa.’
13 “Garuu yoo isin, ‘Nu biyya kana keessa hin turru’ jettanii akkasiin WAAQAYYO
Waaqa keessaniif ajajamuu diddan, 14 amma illee yoo isin, ‘Hin taʼu, nu biyya Gibxi
keessa iddoo itti waraana hin argine yookaan malakata hin dhageenye yookaan
iddoo itti hin beelofne sana dhaqnee achi jiraanna’ jettan, 15 egaa yaa hambaa
Yihuudaa, dubbii WAAQAYYOO dhagaʼaa. WAAQAYYO Waan Hunda Dandaʼu, Waaqni
Israaʼel akkana jedha: ‘Yoo isin biyya Gibxitti galuu barbaaddanii achi jiraachuu
dhaqxan, 16 goraadeen isin sodaattan sun achumatti isin argata; beelli isin sodaattanis
hamma Gibxitti isin faana buʼa; isinis achitti dhumtu. 17 Dhugumaan warri biyya
Gibxitti galanii achi qubachuu barbaadan hundi goraadeen, beelaa fi dhaʼichaan
dhumu; isaan keessaa namni badiisa ani isaanitti fidu jalaa baʼu yookaan miliqu
tokko iyyuu hin jiru.’ 18 WAAQAYYO Waan Hunda Dandaʼu, Waaqni Israaʼel akkana
jedha: ‘Akkuma aariin koo fi dheekkamsi koo warra Yerusaalem keessa jiraatan
irratti dhangalaʼe sana, yoo isin biyya Gibxitti galtan dheekkamsi koo isin irratti ni
dhangalaʼa. Isinis waan abaarsaa, waan sodaa, waan yakkaatii fi waan fafaa ni taatu;
iddoo kana illee gonkumaa deebitanii hin argitan.’
19 “Yaa hambaa Yihuudaa WAAQAYYO, ‘Biyya Gibxi hin dhaqinaa’ isiniin jedheera.
Waan kana qalbeeffadhaa: Ani harʼa isin akeekkachiisaatii; 20 Isin gaafa ‘WAAQAYYO
Waaqa keenya nuu kadhadhu; waan inni dubbate hundas nutti himi; nus ni
ajajamnaaf’ jettanii gara WAAQAYYO Waaqa keessanii na ergitan sana balleessaa
guddaa hojjettan. 21 Ani harʼa isinitti himeera; isin garuu waan inni akka ani isinitti
himuuf na erge sana hundaan WAAQAYYO Waaqa keessaniif hin ajajamne. 22 Kanaafuu
isin amma waan kana qalbeeffadhaa: Isin iddoo jiraachuu dhaquu feetan sana
keessatti goraadeen, beelaa fi dhaʼichaan ni dhumtu.”

## 43

1 Erga Ermiyaas dubbii WAAQAYYO Waaqa isaanii kan WAAQAYYO akka inni nama
hundatti himuuf isa erge sana dubbatee fixee booddee, 2 Azaariyaa ilmi Hooshaʼiyaa,
Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi namoonni of tuulan hundi Ermiyaasiin akkana
jedhan; “Ati ni sobda! WAAQAYYO Waaqni keenya akka ati, ‘Isin achi jiraachuuf
jettanii biyya Gibxi dhaquu hin qabdan’ jettuuf si hin ergine. 3 Baaruk ilmi Neeriyaa
garuu akka ati akka isaan nu fixaniif yookaan boojiʼanii Baabilonitti nu geessaniif
dabarsitee harka Baabilonotaatti nu kennituuf si kakaasaa jira.”
4 Kanaafuu Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi ajajjoonni waraanaa hundii fi sabni
hundi ajaja WAAQAYYO akka isaan biyya Yihuudaa turaniif kenneef sana didan.
5 Qooda kanaa Yoohaanaan ilmi Qaareyaatii fi ajajjoonni waraanaa hundi hambaa
Yihuudaa kanneen biyyoota itti bibittinneeffaman hunda keessaa deebiʼanii biyya
Yihuudaa keessa jiraachuuf dhufan hunda fudhatanii deeman. 6 Akkasumas
dhiiraa dubartii, ijoollee fi intallan mootii kanneen Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa
sun Gedaaliyaas ilma Ahiiqaam, ilma Shaafaan, Ermiyaas raajichaa fi Baaruk
ilma Neeriyaa biratti dhiise sana hunda fudhatanii deeman. 7 Isaanis akkasiin

WAAQAYYOOF ajajamuu diduudhaan biyya Gibxitti galanii hamma Tahiphaanhees
keessa lixan.
8 Tahiphaanheesittis dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Ermiyaas dhufe:
9 “Dhagaa gurguddaa guuriitii balbala masaraa Fara’oon kan Tahiphaanhees jiru
sanaa biratti utuma Yihuudoonni ilaalanuu afaa suphee keessatti awwaali. 10 Ergasii
akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana
jedha: Ani tajaajilaa koo Nebukadnezar mooticha Baabilonitti nama ergee nan
waama; teessoo isaa illee dhagaa asitti awwaale kana irra nan dhaaba; innis
dunkaana mootummaa ofii isaa isa irratti ni diriirfata. 11 Inni dhufee Gibxin ni
lola; warra du’aaf ramadamanitti du’a, warra boojuuf ramadamanitti boojuu, warra
goraadeef ramadamanitti goraadee ni fida. 12 Inni manneen waaqeffannaa waaqota
Gibxitti ibidda qabsiisa; manneen waaqeffannaa isaanii gubee waaqota isaanii
tolfamoo illee booji’a. Akkuma Tikeen tokko wayyaa marxifattu sana innis biyya
Gibxi marxifatee nagumaanis achii deema. 13 Inni achuma galma waaqeffannaa
aduu biyya Gibxi keessatti utuboota waaqeffannaa caccabsee galma waaqeffannaa
waaqota Gibxii illee ni guba.’ ”

# 44

*Badiisa waaqota tolfamoo waaqeffachuun fide*

1 Dubbiin waa’ee Yihuudoota biyya Gibxi keessa jechuunis Migdool, Tahiphaanhees,
Memfiisii fi Phaxroos keessa jiraatan hundaa dubbatu kun akkana jedhee gara
Ermiyaas dhufe; 2 “WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana
jedha: Isin badiisa guddaa ani Yerusaalemii fi magaalaawwan Yihuudaa hundatti
fide sana argitaniirtu. Kunoo, isaan har’a onaniiru; namni tokko iyyuu isaan
keessa hin jiraatu; 3 kunis sababii hammina isaan hojjetaniitiif ta’e. Isaan ixaana
aarsuu fi waaqota isaan yookaan isin yookaan abbootiin keessan hin beekin biraa
waaqeffachuudhaan dheekkamsaaf na kakaasan. 4 Anis, ‘Waan jibbisiisaa ani hin
jaallanne kana hin hojjetinaa!’ jedhee tajaajiltoota koo raajota ammumaa amma
isaanitti erge. 5 Isaan garuu hin dhaggeeffanne yookaan gurra hin kennineef; isaan
hammina isaanii irraa hin deebine yookaan waaqota biraatiif ixaana aarsuu hin
dhiifne. 6 Kanaafuu dheekkamsi koo sodaachisaan sun dhangala’ee magaalaawwan
Yihuudaatii fi daandiiwwan Yerusaalem irratti boba’e; isaanis akkuma har’a ta’ee
jiru kana ni barbadaa’an; ni onanis.
7 “Ammas WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha: Isin
maaliif dhiiraa fi dubartii, ijoollee fi daa’imman Yihuudaa irraa kuttanii badiisa gud-
daa akkanaa ofitti fiduudhaan hambaa malee of hambiftu? 8 Isin maaliif biyya Gibxi,
lafa keessa jiraachuuf dhuftanitti waaqota biraatiif ixaana aarsuudhaan waanuma
harki keessan hojjeteen dheekkamsaaf na kakaaftu? Isin ofuma balleessitanii saboota
lafa irraa hunda gidduutti waan abaarsaatii fi waan fafaa of gootu. 9 Isin hammina
abbootiin keessan, mootonni Yihuudaatii fi niitonni isaanii hojjetan, akkasumas
hammina isinii fi niitonni keessan biyya Yihuudaattii fi daandiiwwan Yerusaalem
irratti hojjettan sana ni irraanfattanii? 10 Isaan hamma har’aatti gad of hin qabne
yookaan na hin sodaanne yookaan seera kootii fi qajeelfama koo kan ani fuula
keessanii fi fuula abbootii keessanii dura kaa’e sana duukaa hin buune.
11 “Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha:
Ani badiisa isinitti fiduu fi Yihuudaa hunda balleessuuf kutadheera. 12 Ani
hambaa Yihuudaa kanneen biyya Gibxi dhaqanii achi jiraachuu murteeffatan nan
balleessa. Isaan hundi Gibxitti dhumu; isaan goraadeedhaan kukkufu yookaan
beelaan dhumu. Xinnaa guddaan isaanii goraadeedhaan yookaan beelaan du’a.
Isaan waan abaarsaatii fi waan sodaa, waan yakkaatii fi waan fafaa ta’u. 13 Ani

akkuma Yerusaalemin adabe sana warra Gibxi keessa jiraatan illee goraadeedhaan,
beelaa fi dha'ichaan nan adaba. 14 Hambaa Yihuudaa kanneen biyya Gibxi keessa
jiraachuu dhaqan keessaa namni miliqu yookaan biyya Yihuudaa kan achi jiraachuuf
hawwan sanatti deebi'u tokko iyyuu hin jiru; baqattoota tokko tokko malee isaan hin
deebi'aniitii."

15 Ergasiis namoonni akka niitonni isaanii waaqota biraatiif ixaana aarsan beekan
hundii fi dubartoonni achi turan, walumatti waldaan guddaan tokkoo fi namoonni
biyya Gibxi keessa Phaxroos jiraatan hundi Ermiyaasiin akkana jedhan; 16 "Nu
dubbii ati maqaa WAAQAYYOOTIIN nutti dubbatte sana hin dhageenyu! 17 Nu
waan ni hojjenna jenne hunda dhugumaan ni hojjenna: Akkuma nuu fi abbootiin
keenya, mootonni keenyaa fi qondaaltonni keenya magaalaawwan Yihuudaatii fi
daandiiwwan Yerusaalem irratti goone sana nu Mootittii Samiitiif ixaana ni aarsina;
dhibaayyuus ni dhibaafanna. Nu yeroo sanatti nyaata akka malee baay'ee qabna
turre; haala tolaa keessa jiraanne malee hin miidhamne. 18 Erga Mootittii Samiitiif
ixaana aarsuu fi dhibaayyuu dhibaafachuu dhiifne garuu nu goraadee fi beelaan
dhumaa jirra malee homaa hin arganne."

19 Dubartoonnis kana irratti, "Yeroo nu Mootittii Samiitiif ixaana aarsinee
dhibaayyuu illee dhibaafanneef sana akka nu fakkii isheetiin keekii tolchinee
dhibaayuu dhibaafannuuf dhirsoonni keenya ni beeku mitii?" jedhan.

20 Ermiyaas uummata deebii isaaf kennaa ture dhiiraa dubartii hundaan akkana
jedhe; 21 "WAAQAYYO waa'ee ixaana isinii fi abbootiin keessan, mootonni keessanii fi
qondaaltonni keessan, sabni biyyattiis magaalaawwan Yihuudaatii fi daandiiwwan
Yerusaalem keessatti aarsitan sanaa yaadatee garaatti hin qabannee? 22 Yeroo
WAAQAYYO hojii keessan hamaa fi waan jibbisiisaa isin hojjettan sana argee obsuu
dadhabetti biyyi keessan akkuma amma jirtu kana waan abaarsaatii fi ona duwwaa
namni keessa hin jiraanne ta'ee hafe. 23 Sababii isin ixaana aarsitanii WAAQAYYOTTI
cubbuu hojjettanii fi isaaf ajajamuu diddaniif yookaan seera isaa yookaan labsii isaa
yookaan qajeelfama isaa illee duukaa bu'uu diddaniif balaan kun akkuma isin amma
argitan kana isinitti dhufe."

24 Ermiyaasis saba hundaa fi dubartoota hundaan akkana jedhe; "Isin sabni
Yihuudaa warri biyya Gibxi keessa jiraattan hundi dubbii WAAQAYYOO dhaga'aa.
25 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: Isinii fi
niitonni keessan waan, 'Nu dhugumaan wareega waaqittii samiitiif ixaana aarsuu fi
dhibaayyuu illee dhibaafachuuf wareegne sana ni guunna' jettanitti waadaa galtan
sana hojiidhaan argisiiftaniirtu.

"Egaa ittuma fufaatii waan waadaa galtan sana raawwadhaa! Wareega keessanis
guutadhaa! 26 Isin Yihuudoonni biyya Gibxi keessa jiraattan hundi garuu dubbii
WAAQAYYOO dhaga'aa: WAAQAYYO akkana jedha; 'Akka namni Yihuudaadhaa dhufee
biyya Gibxi keessa eessa iyyuu jiraatu tokko iyyuu lammata maqaa koo hin dhoofne
yookaan, "Dhugaa WAAQAYYO Goofticha jiraataa" jedhee hin kakanneen ani maqaa
koo guddaadhaan nan kakadha. 27 Ani waan hamaaf isaan ilaalaan jira malee waan
tolaaf isaan ilaalaa hin jiruutii; Yihuudoonni biyya Gibxi keessa jiraatan hamma
hundi isaanii barbadeeffamanitti goraadee fi beelaan dhumu. 28 Warri goraadee
jalaa miliqanii biyya Gibxii gara Yihuudaatti deebi'an akka malee xinnoo ta'u. Gaafas
hambaawwan Yihuudaa kanneen biyya Gibxi keessa jiraachuuf dhufan guutuun akka
dubbiin kootii fi kan isaanii keessaa kan eenyuu fiixaan ba'u ni beeku.

29 " 'Akka ani iddoo kanatti isin adabu wanni kun mallattoo isiniif ta'a;' jedha
WAAQAYYO; 'kunis akka isin akka dubbiin koo dhugumaan isiniin mormee dhaabatu
beektaniif.' 30 WAAQAYYO akkana jedha: 'Ani akkuma Zedeqiyaa Mooticha Yihuu-
daa dabarsee diina lubbuu isaa galaafachuu barbaadutti Nebukadnezar mooticha

Baabilonitti kenne sana Fara'oon Hofraa mooticha Gibxi illee dabarsee diinota isaa warra lubbuu isaa galaafachuu barbaadanitti nan kenna.' "

# 45

## *Dhaamsa Baarukitti Ergame*

1 Bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa ture keessa waggaa afuraffaatti
Baaruk ilmi Neeriyaa dubbii Ermiyaas irraa dhaga'e kitaaba maramaa irratti
barreesse; dubbiin Ermiyaas raajichi Baarukitti himes kanaa dha: 2 "Yaa Baaruk,
WAAQAYYO Waaqni Israa'el akkana siin jedha: 3 ati, 'Anaaf wayyoo! WAAQAYYO dhibee
koo irratti gadda natti dabaleera; ani aaduudhaan laafee boqonnaa dhabeera' jette.
4 WAAQAYYO akkana jedhe; 'Akkana jedhiin: WAAQAYYO akkana jedha; ani guutummaa
biyyattii keessaa waanan ijaare nan diiga; waanan dhaabe illee nan buqqisa. 5 Egaa
ati ofii keetiif waan gurguddaa ni barbaaddaa? Isaan hin barbaadin. Ani saba
hundatti badiisa nan fida; garuu lafa dhaqxu hundatti lubbuu kee boojuu godhee
siifan kenna, jedha WAAQAYYO.' "

# 46

## *Ergaa Waa'ee Gibxi*

1 Dubbiin WAAQAYYOO kan waa'ee sabootaatiif gara Ermiyaas raajichaa dhufe kanaa dha:

2 Waa'ee Gibxi:

Bara Yehooyaaqiim ilmi Yosiyaas mootii Yihuudaa ture keessa, waggaa afuraffaatti ergaan kun gara waraana Fara'oon Nekkoo mooticha Gibxi kan Nebukadnezar mootichi Baabilon laga Efraaxiis biratti Karkemiishitti mo'ate sanaa dhufe:

3 "Gaachana keessan xinnaa fi
guddaa qopheeffadhaatii lolaaf ba'aa!
4 Fardeen fe'adhaa;
isaan yaabbadhaas!
Qoobii sibiilaa kaa'adhaatii
iddoo iddoo keessan qabadhaa.
Eeboo keessan qaradhaa;
qomee sibiilaa illee uffadhaa!
5 Ani maal argaan jira?
Isaan na'anii jiru;
dugda duubatti deebi'aa jiru;
gootonni isaanii mo'atamaniiru.
Isaan utuu of duuba hin mil'atin ariitiin baqatu;
qixa hundaanuu gooliitu jira"
jedha WAAQAYYO.
6 "Fiigaan baqachuu hin danda'u;
yookaan namni jabaan jalaa hin ba'u.
Isaan karaa kaabaatiin
Laga Efraaxiis biratti guggufatanii kukkufu.

7 "Kan akka Abbayyaa,
akka laga bishaan isaa cabsee yaa'uu ol ka'u kun eenyu?
8 Gibxi akkuma Abbayyaa,
akkuma laga bishaan isaa cabsee yaa'uutti ol kaati.
Isheenis, 'Ani ol ka'ee lafa nan haguuga;

magaalaawwanii fi saba isaanii nan balleessa’ jetti.
9 Yaa fardeen, isin garmaamaa!
Yaa gaariiwwan, isinis guulaa!
Yaa gootota Itoophiyaatii fi Fuuxi warri gaachana baattan,
yaa namoota Luudi warri iddaa qabattan ka’aatii
fuula duratti qajeelaa.
10 Guyyaan sun garuu guyyaa Gooftaa,
kan WAAQAYYO Waan Hunda Danda’uu,
guyyaa haaloo ba’uu, kan inni itti diinota isaa haaloo baafatuu dha.
Goraadeen hamma quufutti,
hamma dheebuu dhiigaan ba’utti nyaata.
Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u
biyya kaabaa keessatti, Laga Efraaxiis biratti aarsaa dhi’eessaatii.

11 “Yaa Gibxi durba qulqullittii,
Gili’aaditti ol ba’iitii qoricha fudhadhu.
Ati akkasumaan qoricha hedduutti fayyadamta;
garuu hin fayyitu.
12 Saboonni qaanii kee ni dhaga’u;
boo’ichi kee lafa guuta.
Goonni tokko goota kaanitti gufata;
isaan lamaanuu wal qabatanii kufu.”
13 “Dubbiin WAAQAYYO akka Nebukadnezar mootiin Baabilon dhufee Gibxi dha’u
Ermiyaas raajichatti dubbate kanaa dha:
14 “Waan kana Gibxi keessatti dubbadhu; Migdoolittis labsi;
Memfiisii fi Tahiphaanhees keessatti illee akkana jedhaa labsaa:
‘Goraadeen warra naannoo keessan jiru ni fixaatii
isin iddoo iddoo keessan qabadhaatii qophaa’aa.’
15 Gootonni kee maaliif kufanii diriiru?
Sababii WAAQAYYO gad isaan qabuuf isaan dhaabachuu hin danda’an.
16 Isaan ammumaa amma gufatu;
wal irrattis kukkufu.
Isaanis, ‘Ka’aa goraadee cunqursaa
jalaa baanee gara saba keenyaattii fi
biyya itti dhalannetti ni deebinaa’ waliin jedhu.
17 Isaan achitti,
‘Fara’oon mootichi Gibxi waca qofa;
inni carraa ofii isaa dhabeera’ jedhanii iyyu.

18 “Dhugaa ana jiraataa” jedha mootichi inni maqaan isaa
WAAQAYYOO Waan Hunda Danda’u ta’e sun
“kan gaarran keessaa Taaboor fakkaatu,
inni galaana cinatti Qarmeloosin fakkaatu tokko ni dhufa.
19 Ati kan Gibxi keessa jiraattu,
waan qabdu walitti qabadhuutii baqaaf qophaa’i;
Memfiis ontee diigamtee
jiraattota malee haftiitii.

20 “Gibxi goromsa bareedduu dha;
garuu qarxaasaan
biyya kaabaatii isheetti ni dhufa.

21 Loltoonni isheen kiraadhaan bitattee gidduu ishee jiranis
akkuma jiboota cocoomanii ti.
Sababii guyyaan badiisaa,
yeroon itti isaan adabaman isaanitti dhufeef
isaanis garagalanii walumaan ni baqatu;
iddoo isaanii dhaabatanii of irraa deebisuu hin danda'an.
22 Gibxi yeroo diinni isheetti dhufutti
akkuma bofa waa baqatuu siiqsiti;
isaan akkuma namoota muka muraniitti
qottoo qabatanii isheetti dhufu.
23 Yoo inni hamma fedhe gobbate iyyuu,
isaan bosona ishee ciranii balleessu"
jedha WAAQAYYO.
"Isaan hawwaannisa caalaa baay'atu;
lakkaa'amuus hin danda'an.
24 Intalli Gibxi ni qaaneffamti;
dabarfamtees namoota kaabaatti ni kennamti."
25 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha: "Ani Aamoon
Waaqa Tebesitti, Fara'oonitti, Gibxittii fi Waaqa isheetti, moototа isheettii fi warra
Fara'oonin amanatanitti adabbii nan fida. 26 Ani dabarsee warra lubbuu isaanii
galaafachuu barbaadanitti, jechuunis Nebukadnezar mooticha Baabilonittii fi qon-
daaltota isaatti isaan kenna. Ergasii garuu Gibxi akkuma durii lafa namni keessa
jiraatu ni taati" jedha WAAQAYYO.
27 "Yaa Yaaqoob tajaajilaa ko, ati hin sodaatin;
yaa Israa'el atis hin na'in.
Ani lafa fagootii sin baasa;
sanyii kee immoo biyya isaan itti booji'amanii nan fida.
Yaaqoob ammas nagaa fi tasgabbii ni qabaata;
namni isa sodaachisu tokko iyyuu hin jiru.
28 Yaa Yaaqoob garbicha ko, ati hin sodaatin;
anis si wajjinan jiraatii"
jedha WAAQAYYO.
"Ani yoo saboota gidduu isaaniitti si bittinneesse sana
guutumaan guutuutti balleesse iyyuu
ani guutumaan guutuutti si hin balleessu.
Ani sin adaba; garuu qajeelummaa qofaan;
akka ati utuu hin adabaminuu gad dhiifamtu hin godhu."

# 47

*Ergaa Waa'ee Filisxeemotaa*

1 Dubbiin WAAQAYYOO kan waa'ee Filisxeemotaa kan utuu Fara'oon Gaazaa hin
dha'in dura gara Ermiyaas raajichaa dhufe kanaa dha:

2 WAAQAYYO akkana jedha:
"Kunoo, karaa kaabaatiin bishaan ol ka'aa jira;
bishaan kunis lolaa guutee irra dhangala'u ta'a.
Innis biyyattii fi waan ishee keessa jiru,
magaalaawwanii fi warra isaan keessa jiraatan hunda irra garagala.
Uummanni ni boo'a;
warri ishee keessa jiraatan hundis ni wawwaatu;
3 kunis sababii didicha kottee fardeen gulufanii,

girrisa gaariiwwan diinaatii fi
qaqawweessa goommaa isaaniitiif.
Abbootiin ijoollee isaanii gargaaruuf duubatti gara hin galan;
harki isaaniis isaan irratti laamsha’a.
4 Filisxeemota hunda balleessuuf
hambaa Xiiroosii fi Siidoonaa
gargaaruuf hafan hundas balleessuuf
guyyaan sun dhufeeraatii.
WAAQAYYO Filisxeemota,
hambaa qarqara Kaftoor balleessuu ga’eera.
5 Gaazaan gaddaan mataa ishee haaddatti;
Ashqaloon ni cal’isti.
Yaa hambaa dirree irraa
isin hamma yoomiitti of ciccirtu?

6 “Isin, ‘Yaa goraadee WAAQAYYOO
ati hamma yoomiitti hin boqonne?
Man’ee keetti deebi’i;
cal’isii taa’i’ jettanii iyyitu.
7 Garuu utuu WAAQAYYO isa ajajuu,
yeroo Waaqni akka inni Ashqaloonii fi
qarqara galaanaa dha’uuf qajeelfama isaa kennutti
inni akkamitti boqochuu danda’a?”

# 48

*Ergaa Waa’ee Mo’aab*
*48:29-36 kwf – Isa 16:6-12*

1 Waa’ee Mo’aab:

WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha:
“Neboof wayyoo; isheen ni diigamtiitii.
Kiriyaataayimis ni salphatti; ni qabamti;
da’oowwan ishees ni qaaneffamu; ni diigamus.
2 Mo’aab si’achi hin jajamtu;
namoonni Heshboon keessatti,
‘Kottaa saba sana ni balleessinaa’
jedhanii waa’ee kufaatii ishee mari’atu.
Yaa magaalaa Maadmeen jedhamtu atis ni cal’ista;
goraadeen si ari’aatii.
3 Iyya Hooronaayimii dhufu,
iyya barbadaa’uu fi badiisaa guddaa dhaga’aa!
4 Mo’aab ni cabdi;
ijoolleen ishees ni boo’u.
5 Isaan akka malee boo’aa,
Luuhiitiitti ol ba’u;
karaa gara Hooronaayimitti gad buusu irratti
iyya badiisaa dhaga’u.
6 Baqadhaa! Lubbuu keessan baafadhaa;
akka daggala gammoojjii keessaa ta’aa.
7 Isin waan hojii keessanii fi qabeenya keessan amanattaniif,
boojuudhaan fudhatamtanii ni deemtu;

Kemooshis luboota isaatii fi
qondaaltota isaa wajjin booji'amee ni fudhatama.
8 Balleessituun sun magaalaa hundatti ni dhufa;
magaalaan tokko iyyuu isa jalaa hin ba'u.
Sababii WAAQAYYO dubbateef sululli ni bada;
dirreenis ni barbadeeffama.
9 Mo'aabitti soogidda firfirsi;
isheen ni baddiitii;
magaalaawwan ishees
nama isaan keessa jiraatu dhabanii onu.

10 "Namni garaa hir'uudhaan hojii WAAQAYYOO hojjetu abaaramaa haa ta'u!
Namni goraadee isaatiin dhiiga dhangalaasuu didus abaaramaa haa ta'u!

11 "Mo'aab akkuma daadhii wayinii kan siicoo isaa irratti hafe
kan okkotee tokko keessaa gara okkotee kaaniitti gara hin galfaminii
ijoollummaa isheetii jalqabdee boqochaa turte;
booji'amtees hin fudhatamne.
Kanaafuu isheen akkuma durii mi'oofti;
urgaan ishees hin geeddaramne.
12 Garuu barri ani itti namoota okkotee keessaa dhangalaasan
ergu tokko ni dhufa.
Isaanis gad ishee naqu;
okkotee ishee duwwaa hambisanii
gaanii ishee cabsu" jedha WAAQAYYO.
13 "Yoos akkuma manni Israa'el
yeroo Beet'eelin amanatetti qaana'e sana
Mo'aabis Kemooshitti ni qaana'a.

14 "Isin akkamiin 'Nu gootota;
nu waraana keessatti jajjaboo dha' jechuu dandeessu?
15 Mo'aab ni barbadoofti; magaalaawwan ishees ni qabatamu;
dargaggoonni ishee filatamoon gara qalmaatti geeffamu"
jedha Mootichi maqaan isaa WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'u jedhamu sun.
16 "Kufaatiin Mo'aab ga'eera;
badiisni ishees dafee ni dhufa.
17 Warri naannoo ishee jiraatan hundi,
warri maqaa ishee beektan hundi
'Bokkuun jabaan sun akkamitti cabe!
Uleen ulfina qabeessi sun akkamitti cabe!' jedhaa boo'aafii.

18 "Yaa jiraattuu Diiboon,
ulfina kee irraa gad bu'iitii
lafa goggogaa irra taa'i!
Barbadeessaan Mo'aab sun sitti dhufee
magaalaawwan kee kanneen
dallaa jabaan marfaman ni diigaatii.
19 Ati kan Aro'eer keessa jiraattu,
karaa cina dhaabadhuutii ilaali.
Dhiira baqatuu fi dubartii miliqxu gaafadhu;
'Maaltu dhalate?' jedhii isaan gaafadhu.
20 Mo'aab waan diigamteef qaanofteerti.

Wawwaadhuu boo’i!
Arnoon biratti
akka Mo’aab barbadooftee jirtu labsi.
21 Murtiin dirree ol ka’aatti:
Hooloonitti, Yaahizaa fi Meefi’aatti,
22 Diiboonitti, Neboo fi Beet Diblaataayimitti,
23 Kiriyaataayimitti, Beet Gaamulii fi Beet Me’oonitti,
24 Keriiyoottii fi Bozraatti,
magaalaawwan Mo’aab kanneen fagoo fi
dhi’oo jiran hundatti dhufeera.
25 Gaanfi Mo’aab irraa murameera;
irreen ishees caccabeera”
jedha WAAQAYYO.

26 “Waan isheen WAAQAYYOTTI koorteef
dhugaatiidhaan ishee macheessaa.
Mo’aab diddiga ofii ishee irra haa gangalattu;
waan qoosaas haa taatu.
27 Israa’el si duratti waan qoosaa hin turree?
Akka ati yeroo waa’ee ishee dubbattu hunda
tuffiidhaan mataa kee isheetti raaftuuf
isheen hattoota gidduutti qabamtee?
28 Isin warri Mo’aab keessa jiraattan,
magaalaawwan keessan keessaa ba’aatii kattaawwan keessa jiraadhaa.
Akkuma gugee mana ishee
afaan holqaatti ijaarrattuu ta’a.

29 “Nu waa’ee of tuulummaa Mo’aab
jechuunis akka malee of guddisuu fi ofiin boonuu ishee,
of tuuluu fi of jajuu ishee,
of bokoksuu ishee dhageenyeerra.
30 Ani addaggummaa Mo’aab beeka;
garuu faayidaa hin qabaatu” jedha WAAQAYYO;
“Of tuuluun ishees homaa hin fayyaduuf”
31 Kanaafuu ani Mo’aabiif nan wawwaadha;
Mo’aab hundaaf hiqqifadhee boo’a;
ani namoota Qiir Hareeshetiif nan gadda.
32 Yaa muka wayinii Sibimaa,
ani akkuma Ya’izeeriif boo’u sana siifin boo’a.
Dameen kee hamma galaanaatti diriirtee fagaatte;
isheen hamma galaana Ya’izeeritti diriirtee deemti.
Balleessituun sun ija kee bilchaataa fi
hurbuu wayinii keetii irra bu’eera.
33 Lafa biqiltuutii fi lafa qotiisaa
midhaan Mo’aab keessaa ilillee fi gammachuun badeera.
Ani iddoo itti wayinii cuunfan irraa wayinii kuteera;
namni tokko iyyuu gammadaa sirbee isaan hin cuunfu.
Wacni yoo jiraatee illee
inni waca gammachuu miti.

34 “Sababii bishaan Niimriim gogeef,

sagaleen iyya isaanii ol ka'ee,
Heshboonii hamma Ele'aaleettii fi Yaahaziitti,
Zo'aarii hamma Hooronaayimittii fi hamma Eglaati Sheelishiyaatti
ni dhaga'ama ture.
35 Ani warra iddoowwan sagadaa kanneen gaarran irraatti
aarsaa dhi'eessanii waaqota isaaniif ixaana aarsan
Mo'aab keessaa nan balleessa" jedha WAAQAYYO.
36 "Kanaafuu garaan koo akkuma ulullee faarsee Mo'aabiif boo'a;
akkuma ulullee faarsee namoota Qiir Hareeshetiif boo'a.
Qabeenyi isaan horatan duraa badeera.
37 Mataan hundinuu haadamee
hareedni hundinuu cirameera;
harki hundinuu muramee mudhiin hundis
wayyaa gaddaatiin hidhameera.
38 Waan ani akkuma okkotee namni tokko iyyuu hin feeneetti
Mo'aabin caccabseef
bantii mana Mo'aab hunda irraa fi oobdii sabaa keessa
boo'icha malee wanni tokko iyyuu hin jiru"
jedha WAAQAYYO.
39 "Isheen akkam akkas caccabde! Isaan akkam akkas wawwaatu!
Mo'aab akkam akkas dugda ishee qaaniidhaan garagalfatte!
Mo'aab waan kolfaa taatee,
warra naannoo ishee jiraatan hundaaf waan sodaa taateerti."
40 WAAQAYYO akkana jedha:
"Ilaa! Risaan tokko Mo'aab irratti
qoochoo bal'isee furguggifamaa gad bu'aa jira.
41 Keriiyooti ni qabamti;
da'annoon ishee jajjaboonis ni fudhatamu.
Bara sana keessa garaan loltoota Mo'aab
akkuma garaa dubartii ciniinsifachuutti jirtu tokkoo ta'a.
42 Mo'aab sababii WAAQAYYOON tuffatteef
barbadooftee saba ta'uun ishee ni hafa.
43 Yaa saba Mo'aab sodaan,
boollii fi kiyyoon si eeggata"
jedha WAAQAYYO.
44 "Namni sodaa sana duraa baqatu
kam iyyuu boolla keessa bu'a;
namni boolla sana keessaa ol ba'u
kam iyyuu kiyyoodhaan qabama;
ani Mo'aabitti
waggaa adabamuu ishee nan fidaatii"
jedha WAAQAYYO.

45 "Baqattoonni waan ta'an dhabanii
gaaddisa Heshboon jala dhadhaabatu;
Heshboon keessaa ibiddi tokko,
Sihoon gidduudhaas arrabni ibiddaa ni ka'aatii;
inni adda Mo'aab guba,
buqqee mataa of tuultotaas ni guba.
46 Yaa Mo'aab siif wayyoo!
Uummanni Kemoosh barbadaa'eera;
Ilmaan kee booji'amanii fudhatamaniiru;

intallan kees booji’amaniiru.

47 “Ta’u illee ani bara dhufuuf jiru keessa
hambaa Mo’aab deebisee nan dhaaba”
jedha WAAQAYYO.
Murtiin Mo’aabitti murame sun asitti dhuma.

# 49

*Ergaa Waa’ee Amoon*

1 Waa’ee Amoonotaa:

WAAQAYYO akkana jedha:
“Israa’el ilmaan hin qabuu?
Inni nama isa dhaalu hin qabuu?
Yoos Moolek maaliif Gaadin dhalche ree?
Namoonni isaa maaliif magaalaa ishee keessa jiraatu?
2 Garuu barri ani itti Rabbaa Amoonotaatti
sagalee waca waraanaa dhageessisu tokko ni dhufa”
jedha WAAQAYYO.
“Isheen tuullaa badiisaa ni taati;
gandoonni naannoo ishee jiranis ibiddaan gubamu.
Ergasii Israa’el warra ishee ari’ee baase sana
ariitee biyyaa ni baafti,”
jedha WAAQAYYO.
3 “Yaa Heshboon wawwaadhu, Aayi barbadoofteertii!
Yaa jiraattota Rabbaa iyyaa!
Wayyaa gaddaa uffadhaatii boo’aa;
dallaa keessa asii fi achi fiigaa;
Moolek lubootaa fi qondaaltota isaa wajjin
booji’amee ni fudhatamaatii.
4 Ati maaliif sulula keetiin boonta?
Maaliif sulula kee gabbataa sanaan boonta?
Yaa intala hin amanamne ati sooruma kee abdattee,
‘Eenyutu na tuqa?’ jetta.
5 Ani warra naannoo kee jiraatan hunda irraa
sodaa sitti nan fida”
jedha Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u.
“Tokkoon tokkoon keessan ni ari’amtu;
namni baqattoota walitti qabu tokko iyyuu hin jiru.

6 “Ta’u illee ani ergasii hambaawwan Amoonotaa deebisee nan dhaaba”
jedha WAAQAYYO.

*Ergaa Waa’ee Edoom*
*49:9-10 kwf – Abd 5–6*
*49:14-16 kwf – Abd 1–4*

7 Waa’ee Edoom:

WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Si’achi Teemaan keessa ogummaan hin jiruu?
Hubattoota duraa gorsi badeeraa?
Ogummaan isaanii sameeraa?

8 Warri Deedaan keessa jiraattan garagalaa,
baqadhaatii holqa gad fagoo keessa dhokadhaa;
ani yeroo Esaawun adabutti
badiisa isatti nan fidaatii.
9 Warri gumaa wayinii guuran utuu gara kee dhufanii silaa
qarmii wayii hin hambisanii?
Hattuun yoo halkan dhufte,
Isaan hammuma barbaadan qofa fudhatanii hin deemanii?
10 Ani garuu Esaawun qullaa nan hambisa;
akka inni itti hin da'anneef
ani iddoo inni itti dhokatu ifatti nan baasa.
Ijoolleen isaa, firoonni isaatii fi olloonni isaa ni badu;
innis si'achi hin jiraatu.
11 'Daa'imman kee kanneen warra hin qabne dhiisi;
anatu isaan jiraachisaatii.
Haadhonni hiyyeessaa kee na amanachuu danda'u.' "
12 WAAQAYYO akkana jedha: "Yoo warri xoofoo dhuguun isaaniif hin malin ishee
dhuguu qabaatan, ati maaliif utuu hin adabamin hafta ree? Ati ishee dhuguu qabda
malee utuu hin adabamin hin haftu. 13 Ani akka Bozraan diigamtee waan sodaa,
waan fafaatii fi waan abaarsaa taatu maqaa kootiin nan kakadha" jedha WAAQAYYO.
"Magaalaawwan ishee hundis bara baraan ni diigamu."
14 Ani ergaa tokko WAAQAYYO irraa dhaga'eera:
Ergamaan tokko akkana jechuuf gara sabootaatti ergame;
"Ishee loluuf walitti qabamaa!
Waraanaafis ba'aa!"

15 "Ani amma saboota gidduutti sin xinneessa;
namoota keessatti illee tuffatamaa sin godha.
16 Ati kan hallayyaa kattaa irra jiraattee
fiixee tulluu qabattee jirtu,
sodaan ati odeessituu fi
of tuulummaan garaa keetii si gowwoomseera.
Yoo ati akkuma risaa ol fageessitee
mana ijaarrattu iyyuu ani achii gad sin buusa"
jedha WAAQAYYO.
17 "Edoom waan sodaa taati;
namni achiin darbu hundis sababii madaa ishee hundaatiif
dinqisiifatee isheetti kolfa.
18 Isheen akkuma Sodoomii fi Gomoraan
magaalaawwan naannoo isaanii jiran wajjin balleeffaman sana ni taati"
jedha WAAQAYYO,
"namni tokko iyyuu achi hin jiraatu,
sanyiin namaa tokkos ishee keessa hin qubatu.

19 "Ani akkuma leenca bosona Yordaanosii ba'ee
gara lafa dheedaa gabbataa dhufu tokkoo
dafee Edoomin biyya isheetii nan ari'a.
Filatamaan ani waan kanaaf muudu eenyu?
Kan akka koo eenyu? Eenyutus naan morkuu danda'a?
Tiksee akkamiitu fuula koo dura dhaabachuu danda'a?"

20 Kanaafuu waan WAAQAYYO Edoomitti karoorfate,

waan inni warra Teemaan keessa jiraatanitti yaades dhaga'aa.
Ilmaan bushaayee harkifamanii ni fudhatamu;
innis sababii isaaniitiif jedhee lafa dheeda isaanii ni barbadeessa.
21 Sagalee kufaatii isaaniitiin lafti ni raafamti;
iyyi isaanii hamma Galaana Diimaatti ni dhaga'ama.
22 Ilaa! Risaan tokkoo Bozraa irratti qoochoo bal'isee
furguggifamaa gad bu'aa jira.
Bara sana keessa garaan loltota Edoom
akkuma garaa dubartii ciniinsifachuutti jirtu tokkoo ta'a.

### *Ergaa Waa'ee Damaasqoo*

23 Waa'ee Damaasqoo:
"Hamaatii fi Arfaad ni raafamu;
isaan oduu hamaa dhaga'aniiruutii.
Isaan abdii kutatanii akkuma galaana boqonnaa
hin qabne tokkoo jeeqamaniiru.
24 Damaasqoon dadhabdeerti;
isheen baqachuuf gara galteerti;
sodaan guddaan ishee qabateera;
akkuma miixuu dubartii ciniinsifattuu,
rakkinaa fi miixuun isa qabeera.
25 Magaalaan beekamaan,
magaalaan ani itti gammadu sun akkam gatamti!
26 Dhugumaan dargaggoonni ishee karaa irratti dhumu;
loltoonni ishee hundinuu gaafas afaan qabatu"
jedha WAAQAYYO.
27 "Ani dallaawwan Damaasqootti ibidda nan qabsiisa;
ibiddi sunis da'annoo Ben-Hadaad gubee balleessa."

### *Ergaa Waa'ee Qeedaariitii fi Haazoor*

28 Waa'ee Qeedaariitii fi waa'ee mootummoota Haazoor kanneen Nebukadnezar
mootiin Baabilon lole sanaa:

WAAQAYYO akkana jedha:
"Ka'aa, Qeedaarin lolaatii
saba gama Ba'a Biiftuu barbadeessaa.
29 Dunkaanonni isaaniitii fi bushaayeen isaanii ni fudhatamu;
golgaawwan isaanii mi'aa fi
gaalawwan isaanii wajjin fudhatamu.
Namoonnis, 'Gama hundaan sodaatu jira!'
jedhanii iyyu.

30 "Isin warri Haazoor keessa jiraattan dafaa baqadhaa!
Holqa gad fagoo keessa dhokadhaa"
jedha WAAQAYYO.
"Nebukadnezar mootiin Baabilon isinitti malateera;
inni daba isinitti yaadeera.

31 "Ka'aatii saba nagaa qabu kan of amanatee jiraatu
saba karra yookaan danqaraa karraa hin qabne sanatti duulaa;
uummanni isaa kophuma ofii isaa jiraata"
jedha WAAQAYYO.

32 “Gaalawwan isaanii ni hatamu,
horiin isaanii baay’eenis ni booji’ama.
Ani warra lafa fagoo jiran qilleensatti bittinneessee
gama hundaan balaa isaanitti nan fida”
jedha WAAQAYYO.
33 “Haazoor iddoo jireenyaa waangoo,
lafa bara baraan onte taati.
Namni tokko iyyuu achi hin jiraatu;
namni tokko iyyuu ishee keessa hin qubatu.”

### *Ergaa Waa’ee Eelaam*

34 Jalqaba bara mootummaa Zedeqiyaa mooticha Yihuudaa keessa dubbiin
WAAQAYYOO waa’ee Eelaam akkana jedhee gara Ermiyaas raajichaa dhufe:

35 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:
“Kunoo ani madda jabina isaanii,
iddaa Eelaam nan cabsa.
36 Ani kutaalee samiiwwanii afran irraa
bubbee afran Eelaamittan fida;
ani bubbee afranitti isaan nan bittinneessa;
sabni baqattoonni Eelaam
itti hin galle tokko iyyuu hin jiraatu.
37 Ani fuula diinota isaanii,
fuula warra lubbuu isaanii galaafachuu barbaadanii duratti
Eelaamin nan barbadeessa;
ani balaa isaanittan fida;
dheekkamsa koo sodaachisaa sanas isaanittan fida;
ani hamma isaan fixutti goraadeedhaan isaan ari’a”
jedha WAAQAYYO.
38 “Ani teessoo koo Eelaam keessa dhaabbadhee
mootii fi qondaaltota ishee nan barbadeessa”
jedha WAAQAYYO.

39 “Ta’u illee ani bara dhufuuf jiru keessa
hambaa Eelaam deebisee nan dhaaba”
jedha WAAQAYYO.

# 50

### *Ergaa Waa’ee Baabilon*
*51:15-19 kwf – Erm 10:12-16*

1 Dubbiin WAAQAYYO karaa Ermiyaas raajichaatiin waa’ee Baabilonii fi waa’ee biyya
Baabilonotaa dubbate kanaa dha:
2 “Saboota gidduutti lallabaatii labsaa;
faajjii ol qabaatii labsaa;
utuu homaa hin hambisin akkana jedhaa;
‘Baabilon ni qabamti;
Beel ni salphifama;
Meroodak gooliidhaan guutama.
Fakkiiwwan Baabilon ni salphifamu;
waaqonni ishee tolfamoonis sodaan guutamu.’
3 Sabni Kaabaa dhufu tokko ishee lolee
lafa ishee duwwaa hambisa.

Namni tokko iyyuu ishee keessa hin jiraatu;
namaa fi horiin baqatee keessaa ba'a.

4 "Bara sana keessa, yeroo sanatti,
sabni Israa'elii fi sabni Yihuudaa
imimmaaniin WAAQAYYO Waaqa isaanii barbaacha
tokkummaadhaan ni dhufu" jedha WAAQAYYO;
5 "Isaan karaa gara Xiyoon geessu ni gaafatu;
fuula isaaniis garasitti garagalfatu.
Isaan dhufanii kakuu bara baraa
kan gonkumaa hin irraanfatamneen
WAAQAYYOTTI of maxxansu.

6 "Sabni koo hoolota badan ta'aniiru;
tikseen isaanii isaan dogoggorsee
akka isaan tulluuwwan irra jooran godhe.
Isaan tulluu fi gaara irra jooranii
lafa boqonnaa isaanii illee wallaalan.
7 Kan isaan argu hundi isaan liqimse;
diinonni isaaniis, 'Nu balleessaa hin qabnu;
isaan WAAQAYYO iddoo jireenya isaanii kan dhugaa ta'e,
WAAQAYYO abdii abbootii isaaniitti cubbuu hojjetaniiruutii' jedhan.

8 "Baabilonii baqadhaa ba'aa;
biyya Baabilonotaa keessaa ba'aa;
akkuma korbeessa re'ee kan bushaayee qajeelchuu ta'aa.
9 Ani biyya kaabaatii garee saboota gurguddaa kaasee
Baabilonitti nan ergaatii.
Isaanis hiriiranii isheetti dhufu;
isheenis karaa kaabaatiin ni qabamti.
Xiyyi isaanii akkuma loltoota ogeeyyii
harka duwwaa hin deebinee ti.
10 Baabilonis ni saamamti;
warri ishee saaman hundis ni quufu"
jedha WAAQAYYO.

11 "Isin warri handhuuraa koo saamtan
waan gammaddanii fi ililchitaniif,
akkuma raadaa marga keessaa burraaqxanii
akka korma fardaa imimsitan illee,
12 haati keessan akka malee qaanofti;
kan isin deesses ni salphatti.
Isheen saboota hunda keessaa gad aantuu,
lafa onaa, lafa gogaa fi gammoojjii taati.
13 Isheen sababii dheekkamsa WAAQAYYOOTIIF guutumaan guutuutti
ni onti malee namni ishee keessa hin jiraatu.
Sababii madaa ishee hundaatiif
namni Baabilon keessa darbu hundi ni dinqisiifata; itti qoosas.

14 "Isin warri iddaa luqqifattan hundinuu,
naannoo Baabilonitti hiriiraa.
Sababii isheen WAAQAYYOTTI cubbuu hojjetteef,

xiyyawwan itti darbadhaa! Homaa hin hambisinaa.
15 Karaa hundaan isheetti iyyaa!
Isheen harka kennatti; gamoon ishee ni jiga;
dallaan ishee diigameera.
Kun haaloo WAAQAYYOO waan ta'eef
isheetti haaloo ba'aa;
waanuma isheen warra kaanitti hojjette isheetti hojjedhaa.
16 Nama sanyii facaasuu fi kan yeroo midhaan haamamutti
haamtuu qabatus Baabilon keessaa balleessaa.
Sababii goraadee cunqursaatiin
tokkoon tokkoon namaa gara saba ofii isaatti haa deebi'u;
tokkoon tokkoon namaa gara biyya ofii isaattis haa baqatu.

17 "Israa'el hoolaa bittinnaa'ee dha;
leenconni isa ari'an.
Kan jalqabatti isa nyaate mootii Asoor;
kan dhuma irratti lafee isaa caccabse immoo
Nebukadnezar mooticha Baabilon ture."
18 Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, Waaqni Israa'el akkana jedha:
"Ani akkuma mootii Asoor adabe sana
mootii Baabilonii fi biyya isaa nan adaba.
19 Israa'elin garuu lafa tika isaatti nan deebisa;
innis Qarmeloosii fi Baashaan irra ni dheeda;
tulluu Efreemii fi Gili'aad irra dheedee ni quufa.
20 Bara sana keessa, yeroo sanatti,
yakki Israa'el ni barbaadama" jedha WAAQAYYO;
"garuu tokko iyyuu hin jiru;
cubbuun Yihuudaas ni barbaadama;
garuu tokko iyyuu hin argamu;
ani hambaan baraare sanaaf
dhiifama nan godhaatii.

21 "Biyya Meraataayimii fi
jiraattota Pheqood lolaa.
Ari'aa, ajjeesaa, guutumaan guutuutti isaan balleessaa,"
jedha WAAQAYYO.
"Waan ani isin ajaje hunda godhaa.
22 Sagaleen waraanaa,
sagaleen badiisa guddaas biyya sana keessa jira!
23 Burruusni guutummaa lafaa akkamitti cabe!
Akkamittis bullaa'e!
Baabilon saboota gidduutti,
akkam onte!
24 Yaa Baabilon, ani kiyyoo siif diriirseera;
atis utuu hin beekin qabamte;
ati sababii WAAQAYYOON mormiteef,
argamtee qabamte.
25 WAAQAYYO mankuusaa mi'a lolaa isaa banee
mi'a lola dheekkamsa isaa gad baafateera;
Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
waan biyya Baabilonotaatti hojjetu qabaatii.
26 Biyya fagootii isheetti kottaa.

Gombisaawwan ishee diigaa;
akkuma tuullaa midhaaniitti ishee tuulaa.
Guutumaan guutuutti ishee balleessaa;
waan tokko illee isheef hin hambisinaa.
27 Korommii ishee hunda qalaa;
isaan gara qalmaatti haa geeffaman!
Isaaniif wayyoo! Yeroon isaan itti adabaman,
guyyaan isaanii dhufeeraatii.
28 Akka WAAQAYYO Waaqni keenya haaloo ba'e,
akka inni mana qulqullummaa isaatiif haaloo ba'e,
kooluu galtootaa fi baqattoota Baabilonii dhufanii
Xiyoon keessatti lallaban irraa dhaga'aa.

29 "Namoota Xiyyaan lolan
kanneen iddaa luqqifatan hunda Baabilonitti waamaa.
Naannoo ishee hunda marsaa;
namni tokko iyyuu hin miliqin.
Gatii hojii ishee kennaafii;
waanuma isheen warra kaanitti hojjette isheettis hojjedhaa.
Isheen Qulqullicha Israa'el,
WAAQAYYOTTI koorteertii.
30 Kanaafuu dargaggoonni ishee karaa irratti dhumu;
gaafas loltoonni ishee hundi ni barbadaa'u"
jedha WAAQAYYO.
31 "Yaa koortuu nana, kunoo ani sitti ka'eera"
jedha Gooftaan, WAAQAYYOON Waan Hunda danda'u;
"yeroon ati itti adabamtu,
guyyaan kee dhufeeraatii.
32 Koortuun sun gufattee lafa dhoofti;
namni gargaaree ol ishee qabu tokko iyyuu hin jiru;
ani magaalaawwan ishee keessatti
ibidda warra naannoo ishee jiru hunda
gubee fixu nan qabsiisa."
33 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha:
"Sabni Israa'el cunqurfameera;
sabni Yihuudaas akkasuma cunqurfameera.
Warri isaan booji'an hundi jabeessanii isaan qabataniiru;
isaan gad dhiisuus didaniiru.
34 Ta'u illee Furaan isaanii jabaa dha;
maqaan isaas WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu dha.
Inni biyya isaaniitiif boqonnaa kenne;
warra Baabilon keessa jiraatan garuu boqonnaa dhowwuuf
dhimma isaaniitiif jabeessee ni falma.

35 "Goraadeen tokko Baabilonotatti dhufe!"
jedha WAAQAYYO;
"warra Baabilon keessa jiraatanitti,
qondaaltotaa fi namoota ishee ogeeyyiitti dhufeera!
36 Goraadeen raajota ishee sobdootatti, dhufeera!
Isaan gowwoota ta'u.
Goraadeen gootota isheetti dhufeera!

Isaanis sodaadhaan guutamu.
37 Goraadeen fardeenii fi gaariiwwan isheetti,
Namoota Ormaa kanneen gidduu ishee jiraatan hundatti dhufe!
Isaan dadhaboo ta'u.
Goraadeen qabeenya isheetti dhufe!
Isaan ni saamamu.
38 Caamsaan bishaan isheetti ni dhufa!
Isaanis ni gogu.
Isheen biyya waaqota tolfamoo,
kan waaqota tolfamoo sodaadhaan maraataniitii.

39 "Kanaafuu uumamawwan gammoojjiitii fi
waraabeyyiin achi jiraatu;
urunguunis achi jiraatti.
Lammata namni ishee keessa hin jiraatu;
yookaan dhalootaa hamma dhalootaatti
namni keessa jiraatu hin jiru.
40 Akkuma Waaqni Sodoomii fi Gomoraa,
magaalaawwan naannoo isaanii jiran wajjin balleesse sana"
jedha WAAQAYYO;
"namni tokko iyyuu achi hin jiraatu;
sanyiin namaa tokkos ishee keessa hin qubatu.

41 "Kunoo! Gareen loltootaa tokko kaaba irraa dhufaa jira;
sabni guddaan tokkoo fi mootonni baay'een
moggaa lafaatii sosocho'aa jiru.
42 Isaan xiyyaa fi eeboo qabataniiru;
isaan gara jabeeyyii namaafis naasuu hin qabnee dha.
Yommuu isaan fardeen isaanii gulufanitti
gigigsuun isaanii akkuma huursaa galaanaa ti;
yaa intala Baabilon,
isaan akkuma namoota duulaaf hiriiraniitti si loluuf dhufu.
43 Mootiin Baabilon oduu waa'ee isaanii dhaga'e;
harki isaas irratti du'e.
Dhiphinni isa qabateera;
miixuunis akkuma dubartii ciniinsifattuu isa qabeera.
44 Ani akkuma leenca bosona Yordaanosii ba'ee
gara lafa dheedaa gabbataa dhufu tokkoo
dafee Baabilonin biyya isheetii nan ari'a.
Filatamaan ani waan kanaaf muudu eenyu?
Kan akka koo eenyu?
Eenyutus naan morkuu danda'a?
Tiksee akkamiitu fuula koo dura dhaabachuu danda'a?"

45 Kanaafuu waan WAAQAYYO Baabilonitti karoorfate,
waan inni biyya Baabilonotaatti yaades dhaga'aa;
Ilmaan bushaayee harkifamanii ni fudhatamu;
innis sababii isaaniitiif lafa dheeda isaanii
guutumaan guutuutti ni barbadeessa.
46 Waca qabamuu Baabiloniitiin lafti ni raafamti;
iyyi ishees saboota gidduutti ni dhaga'ama.

# 51

1 WAAQAYYO akkana jedha:
"Kunoo ani Baabilonii fi saba ishee keessa jiraatutti
bubbee waa balleessu nan kaasa.
2 Ani akka isaan gingilchanii ishee balleessaniif
ormoota Baabilonitti nan erga;
isaan gaafa badiisa ishee,
karaa hundaanuu isheen mormu.
3 Abbaan xiyyaa iddaa isaa hin aggaamin,
yookaan mi'a lolaa hin hidhatin.
Dargaggoota ishee hin baasinaa;
loltoota ishee illee guutumaan guutuutti barbadeessaa.
4 Isaan qalamanii Baabilon keessa ni harcaafamu;
daandiiwwan ishee irrattis ni madaa'u.
5 Yoo biyyi isaanii fuula Qulqullicha Israa'el duratti
yakkaan guutamtee jiraatte iyyuu
Waaqni isaanii, WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u
Israa'elii fi Yihuudaa hin ganne.

6 "Baabilon keessaa baqadhaa!
Lubbuu keessan oolfadhaa!
Isin sababii cubbuu isheetiif hin dhuminaa.
Yeroon kun yeroo haaloo ba'uu Waaqayyoo ti;
innis gatii isheef malu ni kennaaf.
7 Baabilon harka WAAQAYYOO keessatti xoofoo warqee turte;
isheen guutummaa lafaa ni macheessite.
Saboonni daadhii wayinii ishee dhugan;
kanaafuu amma maraataniiru.
8 Baabilon akkuma tasaa
kuftee caccabdi; isheef boo'aa!
Qoricha isheen madaa dibattu fidaafii;
tarii isheen ni fayyiti ta'aatii.

9 " 'Nu Baabilonin fayyisu yaalleerra;
isheen garuu fayyuu hin dandeessu;
kottaa tokkoon tokkoon keenya ishee dhiifnee
gara biyya ofii keenyaatti haa qajeellu;
murtiin ishee hamma samiitti ol ba'ee,
hamma duumessaatti ol fagaateeraatii.'

10 " 'WAAQAYYO qajeelummaa keenya dhugaa nuu ba'eera;
kottaa, waan WAAQAYYO Waaqni keenya hojjete
Xiyoon keessatti haa odeessinu.'

11 "Xiyya qaradhaa;
gaachana illee fudhadhaa!
Sababii kaayyoon isaa Baabilonin balleessuu ta'eef
WAAQAYYO mootota Meedee kakaaseera.
WAAQAYYO haaloo ni ba'a;
mana qulqullummaa isaatii haaloo ni ba'a.
12 Dallaa Baabilonitti faajjii kaasaa!
Eegumsa jajjabeessaa;

eegduu dhaabaa;
warra riphee eeggatu qopheessaa!
WAAQAYYO kaayyoo isaa
waan saba Baabilonitti mure sana fiixaan baafata.
13 Ati kan bishaan baay'ee qabdu,
kan qabeenyaanis badhaate,
dhumni kee dhufeera;
yeroon ati itti baddu ga'eera.
14 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u ofiin kakateera:
Ani dhugumaan namoota akkuma hoomaa hawwaannisaa
sitti gad dhiisa;
isaanis mo'annaadhaan sitti dhaadatu.

15 "Inni humna isaatiin lafa uume;
ogummaa isaatiin addunyaa hundeesse;
hubannaa isaatiinis samiiwwan diriirse.
16 Yommuu inni qaqawweessa'utti bishaanonni samii ni huursu;
inni akka duumessoonni daarii lafaatii ol ka'an ni godha.
Bokkaa wajjin balaqqee ni erga;
mankuusaalee isaa keessaa immoo bubbee ni fida.

17 "Tokkoon tokkoon namaa gowwaa fi kan beekumsa hin qabnee dha;
tokkoon tokkoon tumtuu warqee waaqota tolfamoo isaatiin qaaneffama.
Fakkiiwwan inni tolchu kan sobaa ti;
isaan hafuura baafatan of keessaa hin qaban.
18 Isaan faayidaa hin qaban; meeshaa qoosaa ti;
yeroo adabbiin isaanii ga'utti ni badu.
19 Inni qooda Yaaqoob ta'e sun garuu akka warra kanaa miti;
inni uumaa waan hundumaa ti;
Israa'el immoo gosa dhaala isaa ti;
maqaan isaas WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu dha.

20 "Ati bokkuu koo kan duulaa
mi'a lolaa kootii ti;
ani siin saboota nan caccabsa;
siin mootummoota nan barbadeessa;
21 Ani siin fardaa fi yaabbataa fardaa nan caccabsa;
siin gaarii fi ooftuu isaa nan caccabsa;
22 ani siin dhiiraa dubartoota nan caccabsa;
siin jaarsaa dargaggeessa nan caccabsa;
siin ga'eessaa fi shamarree nan caccabsa;
23 ani siin tiksee fi bushaayee nan caccabsa;
siin qottuu fi qotiyyoo nan caccabsa;
siin bulchitootaa fi qondaaltota nan caccabsa.
24 "Ani utuma iji keessan arguu waan isaan Xiyoon godhan hundaaf Baabilonii fi
warra Baabilon keessa jiraatan hundaaf gatii isaanii nan kenna" jedha WAAQAYYO.
25 "Yaa tulluu barbadeessaa,
ati kan lafa hunda balleessitu ani sitti ka'eera;
ani harka koo sitti nan kaafadha;
ededa irraa gad gangalchee
tulluu gubamaa sin godha"
jedha WAAQAYYO.

26 “Waan ati bara baraan ontuuf,
kattaan dhagaa golee ta’u,
yookaan dhagaan hundeef ta’u tokko iyyuu si keessaa hin fudhatamu”
jedha WAAQAYYO.

27 “Biyyattii keessatti faajjii ol qabaa!
Saboota gidduuttis malakata afuufaa!
Saboota waraanaaf isheetti qopheessaa;
mootummoota Araaraat,
kan Miiniitii fi Ashkenas isheetti waamaa.
Ajajaa waraanaa isheetti shuumaa;
fardeen akka hoomaa hawwaannisaa itti ergaa.
28 Ishee waraanuudhaaf saboota jechuunis,
mootota Meedee
bulchitoota isaaniitii fi qondaaltota isaanii hunda,
biyyoota isaan bulchan hundas qopheessaa.
29 Sababii wanni WAAQAYYO
akka namni tokko iyyuu achi hin jiraanneef
biyya Baabilon onsuuf Baabilonitti karoorfate sun
jabaatee dhaabatuuf biyyattiin ni raafamti; ni dhidhiitattis.
30 Gootonni Baabilon lola dhiisaniiru;
isaan da’annoo isaanii keessatti hafaniiru.
Jabinni isaanii dhumeera;
isaan akkuma dubartootaa ta’aniiru.
Iddoo jireenya isheetti ibiddi qabsiifameera;
danqaraawwan balbala ishees caccabaniiru.
31 Akka magaalaan isaa moggaa hamma moggaatti qabamte
mootii Baabilonitti himuuf,
fiigduun tokko isa kaan qaqqabuuf,
ergamaan tokkos ergamaa kaan qaqqabuuf fiiga;
32 kunis akka malkaan qabame,
akka da’annoowwan ishee gubamanii fi
akka loltoonni ishee na’an himuudhaaf.”
33 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u, Waaqni Israa’el akkana jedha:
“Intalli Baabilon akkuma oobdii ti;
yeroo sanatti isheen ni dhidhiitamti;
yeroon isheen itti haamamtus dafee ni dhufa.”

34 “Nebukadnezar mootiin Baabilon na nyaateera;
inni barbadeesseera;
akkuma okkotee duwwaa na godhe.
Inni akkuma jawwee na liqimse;
qabeenya koo filatamaadhaanis garaa guuttate;
ergasii immoo na tufe.”
35 Jiraattonni Xiyoon,
“Dabni foon keenyatti hojjetame Baabilonitti illee haa dhufu” jedhan.
Yerusaalemis, “Dhiigni keenya
warra Baabilon keessa jiraatan haaloo haa ba’u” jetti.
36 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha:
“Kunoo, ani dubbii kee siif falmee
haaloo siifin ba’a;
ani galaana ishee nan gogsa;

burqaa ishee illee nan kuta.
37 Baabilon tuullaa diigame,
iddoo waangoonni keessa burraaqan,
waan naasuutii fi qoosaa,
lafa namni tokko iyyuu irra hin jiraanne ni taati.
38 Sabni ishee hundi akka saafela leencaa ni aada;
isaanis akka ilmaan leencaa gururi'u.
39 Yommuu dhagni isaanii ho'utti,
ani akka isaan kolfaa gammadanii
bara baraan rafanii hin dammaqneef
cidha isaaniif qopheessee
akka isaan machaa'an nan godha"
jedha WAAQAYYO.
40 "Ani akka ilmoolee hoolaa,
akkuma korbeeyyii hoolaatii fi
re'ee gara qalmaatti gad isaan buusa.

41 "Sheeshaak akkamitti booji'amti!
Boonuun lafa hundaas akkamitti qabame!
Baabilon saba gidduutti
akkam waan sodaa taati!
42 Baabilon irra galaanni garagala;
dambaliin galaanaas ishee haguuga.
43 Magaalaawwan ishee onanii
biyya gogaa fi gammoojjii,
biyya namni tokko iyyuu keessa hin jiraanne,
kan namni keessa hin dabarre ni ta'u.
44 Ani Baabilon keessatti Beelin nan adaba;
waan inni liqimse illee nan tufsiisa.
Saboonni lammata gara isaatti hin yaa'an;
dallaan Baabilonis ni jiga.

45 "Yaa saba ko, ishee keessaa ba'aa!
Lubbuu keessan oolfachuuf fiigaa!
Dheekkamsa WAAQAYYOO sodaachisaa sana jalaa baqadhaa.
46 Yeroo oduun biyya keessatti dhaga'amutti
garaan keessan hin raafamin yookaan hin sodaatin;
akka gooliin biyya keessa jiru,
akka bulchaan tokko bulchaa kaanitti ka'u,
oduun tokko barana, kaan immoo bara dhufu dhaga'ama.
47 Yeroon ani itti waaqota Baabilon tolfamoo adabu
dhugumaan ni dhufaatii;
biyyi ishee guutumaan guutuutti ni salphatti;
qalamtoonni ishee hundis ishee keessatti kukkufu.
48 Ergasii samii fi lafti, wanni isaan keessa jiru hundis,
gammadanii Baabilonitti ililchu;
barbadeessitoonni kaabaa ba'anii
ishee waraanuutii"
jedha WAAQAYYO.

49 "Akkuma qalamtoonni lafa irraa hundi

sababii Baabiloniif harca'an sana
Baabilonis sababii qalamtoota Israa'eliif harca'uu qabdi.
50 Isin warri goraadee jalaa miliqxan,
deemaa; lafa irra hin harkifatinaa!
Biyya fagootti illee WAAQAYYOON yaadadhaa;
waa'ee Yerusaalemis yaadaa."

51 "Sababii ormoonni iddoo qulqullaa'aa
mana WAAQAYYOOTTI qalaniif,
nu salphifamneerra;
waan arrabsamneefis
qaaniidhaan fuula keenya haguugganne."

52 "Garuu barri ani itti,
waaqota ishee tolfamoo adabuu fi
yeroon guutummaa lafa ishee irratti
warri madaa'an aadan dhufaa jira" jedha WAAQAYYO.
53 "Yoo Baabilon samiitti ol baatee
da'annoo ishee ol dheeraa jabeeffatte iyyuu,
ani warra ishee barbadeessan itti nan erga"
jedha WAAQAYYO.

54 "Baabilonii iyyi,
lafa Baabilonotaatii immoo
sagaleen badiisa guddaa ni dhaga'ama.
55 WAAQAYYOS Baabilonin ni barbadeessa;
inni waca ishee ni cal'isiisa,
dambaliin isaaniis akkuma bishaan guddaa ni huursa;
sagaleen huursaa isaaniis ni dhaga'ama.
56 Barbadeessaan tokko Baabilonitti ni dhufa;
gootonni ishee ni qabamu;
futtaaftuun isaaniis ni caccaba;
WAAQAYYO, Waaqa haaloo ba'uudhaatii;
inni guutumaan guutuutti gatii ishee ni deebisaaf.
57 Ani qondaaltotaa fi ogeeyyii ishee,
akkasumas bulchitoota, ajajjoota waraanaatii fi
gootota ishee nan macheessa;
isaanis bara baraan ni rafu; hin dammaqanis,"
jedha mootichi maqaan isaa WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u,
jedhamu sun.
58 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha;
"Dallaan Baabilon yabbuun sun ni jiga;
karrawwan ishee dhedheeroon ibiddaan gubamu;
namoonni akkasumaan of dadhabsiisu;
dadhabbiin sabootaa qoraan ibiddaa qofa ta'a."
59 Yeroo Seraayaan ilmi Neeriyaa, ilmi Mahiseyaa bara Zedeqiyaa mooticha
Yihuudaa keessa waggaa afuraffaatti mooticha wajjin gara Baabilon deemetti ajajni
Ermiyaas Raajichi isaaf kenne kanaa dha. 60 Ermiyaas badiisa Baabilonitti dhufu
hunda, jechuunis waa'ee Baabilon kan barreeffame hunda kitaaba maramaa irratti
barreessee ture. 61 Innis Seraayaadhaan akkana jedhe; "Yommuu Baabilon geessutti
dubbii kana hunda sagalee ol fudhattee dubbisuu hin dagatin. 62 Akkanas jedhi: 'Yaa

WAAQAYYO, akka namni yookaan horiin ishee keessa hin jiraanneef ati akka iddoo
kana barbadeessitu dubbatteerta; isheenis bara baraan ni onti.’ 63 Yeroo kitaaba
maramaa kana dubbiftee fixxutti dhagaa itti hidhiitii Laga Efraaxiisitti darbadhu.
64 Akkanas jedhi; ‘Sababii badiisa ani isheetti fiduutiin akka lammata hin kaaneef
Baabilon akkasitti ni liqimfamti. Uummanni ishees ni harca’a.’ ”

Dubbiin Ermiyaas as irratti raawwatama.

# 52

*Kufaatii Yerusaalem*
*52:1-3 kwf – 2Mt 24:18-20; 2Sn 36:11-16*
*52:4-16 kwf – Erm 39:1-10*
*52:4-21 kwf – 2Mt 25:1-21; 2Sn 36:17-20*

1 Zedeqiyaa yeroo mootii ta’etti nama umuriin isaa waggaa digdamii tokkoo ture;
innis Yerusaalem keessa taa’ee waggaa kudha tokko bulche. Maqaan haadha isaa
Hamuutaal ture; isheenis intala Ermiyaas kan magaalaa Libnaatii dhufte turte. 2 Innis
akkuma Yehooyaaqiim hojjete sana, fuula WAAQAYYOO duratti waan hamaa ni hojjete.
3 Wanni kun hundi sababii dheekkamsa WAAQAYYOOTIIF Yerusaalemii fi Yihuudaa irra
ga’e; dhuma irrattis inni fuula isaa duraa isaan balleesse.

Zedeqiyaa mooticha Baabilonitti fincile.

4 Bara mootummaa Zedeqiyaa keessa waggaa saglaffaatti, bultii kurnaffaa ji’a
kurnaffaatti Nebukadnezar mootiin Baabilon guutummaa loltoota isaa wajjin
Yerusaalemitti duule; isaanis magaalattiin ala qubatanii naannoo ishee hundatti
tuullaa biyyoo marsan. 5 Magaalaan sunis hamma waggaa kudha tokkoffaa bara
Zedeqiyaa Mootichaatti akkuma marfamtetti turte.

6 Bultii saglaffaa ji’a afuraffaatti, magaalattii keessatti beelli akka malee hammaatee
namni waan nyaatu tokko illee dhabe. 7 Ergasii dallaan magaalattii cabsamee
loltoonni hundinuus ba’anii baqatan. Isaanis utuma Baabilononni magaalaa sana
marsanii jiranuu karaa karra dallaa iddoo biqiltuu mootichaa bira jiru lamaan gidduu
baasu sanaatiin halkaniin ba’anii baqatan. Isaanis Arabbaatti baqatan; 8 loltoonni
Baabilon garuu Zedeqiyaa Mooticha ari’anii dirree Yerikoo irratti isa qaqqaban;
loltoonni isaa hundis isa irraa gargar ba’anii bibittinnaa’anii turan; 9 innis ni qabame.

Gara mootii Baabilonitti Riiblaa biyya Hamaati keessaatti geeffame. Achittis itti
murame. 10 Mootiin Baabilonis Riiblaatti ijuma isaa duratti ilmaan Zedeqiyaa gorra’e;
qondaaltota Yihuudaa hundas fixe. 11 Innis ergasii Zedeqiyaa keessaa ija isaa baasee
foncaa naasiitiin hidhee Baabilonitti isa geesse; hamma gaafa inni du’uuttis manuma
hidhaa keessa isa tursiise.

12 Bara mootummaa Nebukadnezar mooticha Baabilon keessa waggaa kudha saglaf-
faatti, bultii kurnaffaa ji’a shanaffaatti Nebuzaradaan ajajaan eegumsa mootummaa
inni mootii Baabilon tajaajilu sun gara Yerusaalem dhufe. 13 Innis mana qulqul-
lummaa WAAQAYYOOTTI, masaraa mootummaattii fi manneen Yerusaalem hundatti
ibidda qabsiise; manneen gurguddaa hundas ni gube. 14 Loltoonni Baabilon kanneen
ajajaa eegumsa mootummaa jala turan hundi dallaawwan naannoo Yerusaalem turan
hunda diigan. 15 Nebuzaradaan ajajaan eegumsaa sun namoota hiyyeeyyii tokko
tokkoo fi warra magaalaa keessatti hafan, warra ogummaa harkaa qabanii fi warra
baqatanii mootii Baabilonitti kooluu galan booji’ee fudhate. 16 Nebuzaradaan garuu
hiyyeeyyii biyyattii warra hafan akka wayinii kunuunsanii fi lafa qotaniif achitti
dhiise.

17 Baabilononni sun utubaawwan naasii, baattuuwwan iddoodhaa socho'anii fi
Gaanii naasii irraa hojjetamee mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa ture caccab-
sanii naasii sana hunda immoo Baabilonitti geessan. 18 Akkasumas okkoteewwan,
waan ittiin daaraa hammaaran, waan ittiin ibsaa irraa daaraa dhadha'an, waciitii-
wwan ittiin dhiiga facaasan, caabiiwwanii fi mi'oota naasii irraa hojjetaman kanneen
tajaajila mana qulqullummaatiif oolan hunda fudhatan. 19 Ajajaan eegumsaa sunis
mi'oota warqee qulqulluu fi meetii irraa hojjetaman hunda jechuunis caabii dhooqaa,
girgiraawwan, waciitiiwwan ittiin dhiiga facaasan, okkoteewwan, baattuuwwan
ibsaa, caabiiwwanii fi waciitiiwwan ittiin dhibaafatan fudhatee deeme.
20 Ulfinni naasii kan Solomoon Mootichi ittiin utubaawwan lamaan, Gaanii fi
jiboota kudha lamaan isa jala jiranii fi baattuuwwan iddoodhaa socho'aniin mana
qulqullummaa WAAQAYYOOTIIF hojjetee ture waan madaalliin madaaluu danda'uu
oli turan. 21 Tokkoon tokkoon utubaa sanaa dhundhuma kudha saddeet ol dheeratee
marsaan isaa immoo dhundhuma kudha lama ture; yabbinni isaa quba afur ta'ee
keessi isaas banaa ture. 22 Guutuun naasii kan utubaa tokko irraas dhundhuma
shan ol dheeratee naannoon isaa guutuun sibiila wal keessa loofamee tolfamee fi
roomaanii naasiitiin miidhagfamee ture. Utubaan kaanis roomaanii naasii wajjin
kanuma fakkaata ture. 23 Roomaanoonni bitaa mirgaan turan sagaltamii sagal
turan; walumatti faaya naannoo utubichaa gubbaan jiru wajjin roomanoota dhibba
tokkootu ture.
24 Ajajaan eegumsaa sun Seraayaa lubicha hangafa, Sefaaniyaa lubicha Sadarkaan
isatti aanuu fi eegdota balbalaa sadan hidhee fuudhee deeme. 25 Warra amma
illee magaalaa keessatti hafan keessaa ajajaa loltootaatii fi gorsitoota mootii torba
fudhate. Akkasumas barreessaa qondaala ol aanaa ture kan saba keessaa loltummaaf
namoota filatu sanaa fi namoota magaalaa keessatti argaman jaatama fudhate.
26 Nebuzaradaan ajajaan sun hunda isaanii guuree Riiblaatti gara mooticha Baa-
bilonitti geesse. 27 Mootichis achuma Riiblaat biyya Hamaati keessatti isaan ni fixe.
Yihuudaanis akkasiin booji'amee biyya isheetii baate.

28 Baay'inni namoota Nebukadnezar boojuudhaan fudhatee kanaa dha:

Waggaa torbaffaa keessa
Yihuudoota 3,023;
29 bara Nebukadnezar keessa waggaa kudha saddeettaffaatti,
Yerusaalemii namoota 832;
30 waggaa digdamii sadaffaa isaa keessa Yihuudoonni 745,
Nebuzaradaan ajajaa eegumsaa sanaan boojuudhaan fudhataman.

Isaanis walumatti namoota 4,600 turan.

### *Yehooyaakiin Hiikamuu Isaa*
*52:31-34 kwf – 2Mt 25:27-30*

31 Yehooyaakiin mootiin Yihuudaa booji'amee waggaa soddomii torbaffaa isaatti,
Eewiil Marodaak mootii Baabilon ta'e; innis wagguma sana keessa bultii digdamii
shanaffaa ji'a kudha lammaffaatti Yehooyaakiin mooticha Yihuudaa sana mana
hidhaatii gad dhiisee bilisa isa baase. 32 Afaan tolaadhaanis isatti dubbatee barcuma
ulfinaa kan barcuma mootota isa wajjin Baabilon keessa turan kaanii caalu kenneef.
33 Kanaafuu Yehooyaakiin uffata isaa kan mana hidhaatti uffachaa ture sana of irraa
baasee bara jireenya isaa guutuu yeroo hunda maaddii moottichaa irraa nyaate.
34 Mootiin Baabilonis hamma inni lubbuudhaan jiraatetti guyyuma guyyaadhaan
waan isaaf barbaachisu Yehooyaakiiniif kennaa ture.

# Faaruu
## Ermiyaas

### 1

1 Magaalaan dur namaan guutamtee turte sun
akkamitti ontee hafte!
Isheen yeroo tokko saboota gidduutti guddoo turte
akkamitti akka haadha hiyyeessaa taate!
Isheen kutaalee biyyaa gidduutti mootii turte sun
amma garbittii taateerti.

2 Isheen halkan halkan hiqqifattee boossi;
maddii ishee irra imimmaantu yaaʼa.
Michoota ishee hunda keessaa
kan ishee jajjabeessu tokko iyyuu hin jiru.
Michoonni ishee hundinuu ishee gananiiru;
isaan diinota ishee taʼaniiru.

3 Rakkinaa fi cunqurfama guddaa booddee
Yihuudaan boojiʼamtee fudhatamteerti.
Isheen saboota gidduu jiraatti,
lafa itti boqottu illee hin arganne.
Warri ishee ariʼan hundi
rakkina ishee keessatti ishee qabatan.

4 Daandiiwwan Xiyoon ni booʼu;
namni ayyaana ishee kan murteeffame kabajuuf dhufu
tokko iyyuu hin jiruutii.
Karrawwan ishee hundi onanii jiru;
luboonni ishee ni aadu;
shamarran ishee ni gaddu,
isheenis dhiphina guddaa keessa jirti.

5 Amajaajonni ishee gooftota ishee taʼaniiru;
diinota isheetti toleera.
Sababii cubbuu ishee baayʼee sanaatiif
Waaqayyo gadda itti fideera.
Ijoolleen ishee fudhatamanii deemaniiru;
fuula amajaajota ishee duratti boojiʼamaniiru.

6 Intala Xiyoon irraa
miidhaginni hundi fudhatameera.
Ilmaan moototа ishee
akkuma gadamsa lafa dheedaa dhabee taʼaniiru;
isaan dadhabbiidhaan
fuula warra isaan ariʼanii dura baqatan.

7 Baroota rakkinaa fi asii achi jooruu ishee keessa
Yerusaalem qabeenya
bara durii kan ishee ture hunda ni yaadatti.

Yeroo namoonni ishee harka diinaa seenanitti
namni ishee gargaaru tokko iyyuu hin turre.
Diinonni ishee ishee ilaalanii
badiisa isheetti kolfan.

8 Yerusaalem akka malee cubbuu hojjette;
akkasiinis xuroofte.
Warri ulfina kennaniifii turan hundi ishee tuffatan;
isaan qullaatti hafuu ishee arganiiruutii;
isheen mataan ishee guungumtee
of irra garagalti.

9 Xuraa’ummaan ishee wandaboo isheetti maxxane;
isheen waan gara duraatti itti dhufu hin yaadne;
kufaatiin ishee nama rifachiisa;
kan ishee jajjabeessu tokko iyyuu hin jiru ture.
“Yaa WAAQAYYO rakkina koo ilaali;
diinni mo’ateeraatii!”

10 Qabeenya ishee hundatti
diinni harka isaa diriirseera;
isheen Namoota Ormaa
warra ati akka isaan
waldaa kee hin seenne dhowwite sana
utuu isaan iddoo ishee qulqulluu seenanuu argite.

11 Namoonni ishee hundinuu utuma
aadanuu buddeena barbaaddatu;
isaan lubbuu ofii isaanii turfachuuf jecha
qabeenya isaanii nyaataan geeddarratu.
“Yaa WAAQAYYO na ilaali, na yaadadhus;
ani tuffatameeraatii.”

12 “Warra karaa irra dabartan hundi, kun isiniif homaa mitii?
Naannoo keessan ilaalaatii argaa.
Rakkinni akka rakkina koo
kan ani ittiin rakkadhe,
kan WAAQAYYO guyyaa dheekkamsa isaatti
natti fide sanaa jiru tokko iyyuu jiraa?

13 “Inni ol gubbaadhaa ibidda erge;
ibidda sana lafee koo keessa seensisa.
Inni miilla kootiif kiyyoo diriirsee
dugda duubatti na deebise;
inni kophaatti na hambisee
guyyaa guutuu na dadhabsiise.

14 “Cubbuun koo waanjootti hidhameera;
isaan harka isaatiin walitti fo’aman.
Isaan morma kootti rarraafaman;
gooftaan humna koo dadhabsiise.
Inni warra ani of irraa deebisuu
hin dandeenyetti dabarsee na kenneera.

15 “Gooftaan gootota na keessatti argaman
hunda gateera;
inni dargaggoota koo caccabsuuf
yaa’ii waammate.
Gooftaan iddoo cuunfaa wayinii isaatti
Durba Qulqullittii Intala Yihuudaa dhidhiiteera.

16 “Wanni ani boo’ee
iji koo imimmaaniin guutameef kanaa dha.
Namni na jajjabeessuuf dhi’oo jiru tokko iyyuu hin jiru;
kan hafuura koo bayyanachiisus hin jiru.
Sababii diinni humna argateef
ijoolleen koo harka duwwaa hafan.”

17 Xiyoon harka ishee bal’ifatteerti;
garuu namni ishee jajjabeessu tokko iyyuu hin jiru.
Akka olloonni isaa amajaajota isaa ta’aniif
WAAQAYYO Yaaqoobitti ajajeera;
Yerusaalemis gidduu isaaniitti
waan xuraa’aa taateerti.

18 “WAAQAYYO qajeelaa dha;
ta’us ani ajajawwan isaatti fincileen ture.
Yaa saboota, hundi keessan dhaga’aa;
rakkina koos ilaalaa.
Dargaggoonnii fi shamarran koo
booji’amanii fudhatamaniiru.

19 “Ani tumsitoota koo nan waammadhe;
isaan garuu na ganan.
Luboonni koo fi maanguddoonni koo
utuu lubbuu isaanii oolfachuuf
nyaata barbaadatanuu
magaalaa keessatti dhuman.

20 “Yaa WAAQAYYO akka ani dhiphadhe ilaali!
Ani keessa kootti dhiphadheera;
garaa koo keessatti raafameera;
ani nama akka malee fincilun tureetii.
Alaa goraadeen nama qala;
mana keessa immoo du’a qofatu jira.

21 “Namoonni akka ani aadaa jiru dhaga’aniiru;
kan na jajjabeessu garuu hin jiru.
Diinonni koo hundinuu rakkina koo dhaga’aniiru;
isaan waan ati gootetti gammadaniiru.
Akka isaan akkuma koo ta’aniif
maaloo ati guyyaa jette sana fidi.

22 “Hamminni isaanii hundinuu
fuula kee duratti haa dhi’aatu;
waanuma sababii cubbuu koo hundaatiif

natti fidde sana isaanitti illee fidi!
Aaduun koo baay’ateeraatii;
onneen koos dadhabdeerti.”

# 2

1 Gooftaan akkamitti duumessa dheekkamsa isaatiin
intala Xiyoon haguuge!
Inni ulfina Israa’el
samiidhaa lafatti gad daddarbateera;
inni guyyaa dheekkamsa isaatti
ejjeta miilla isaa hin yaadanne.

2 Gooftaan gara laafina tokko malee
iddoo jireenya Yaaqoob hunda liqimseera;
da’annoo intala Yihuudaas
dheekkamsa isaatiin diige.
Inni mootummaa isheetii fi
bulchitoota ishee salphisee lafatti gad deebise.

3 Inni dheekkamsa sodaachisaadhaan
gaanfa Israa’el hunda caccabse.
Yommuu diinni dhi’aatettis
harka isaa mirgaa duubatti deebifate.
Inni akkuma arraba ibiddaa kan waan naannoo isaa jiru gubu sanaa
Yaaqoob keessatti boba’e.

4 Inni akkuma diinaatti iddaa isaa dabsate;
harki isaa mirgaa qophaa’eera.
Warra ijatti bareedan hunda
akkuma amajaajiitti qale;
dunkaana intala Xiyoonitti
dheekkamsa isaa akkuma ibiddaa roobse.

5 Gooftaan akkuma diinaa ta’e;
inni Israa’elin liqimseera.
Inni masaraawwan ishee hunda liqimsee
da’annoo ishee jabaa illee diigeera.
Inni Intala Yihuudaatti
boo’ichaa fi faaruu boo’ichaa baay’iseera.

6 Inni lafa jireenya isaa akkuma iddoo biqiltuu onseera;
iddoo wal ga’ii isaas balleesseera.
WAAQAYYO akka Xiyoon ayyaana ishee kan murtaa’ee fi
Sanbatoota ishee irraanfattu godheera;
inni dheekkamsa isaa sodaachisaa sanaan
mootota fi luboota akka malee tuffate.

7 Gooftaan iddoo aarsaa isaa tuffateera;
iddoo qulqulluu isaa illee dhiiseera.
Dallaawwan masaraawwan ishee
dabarsee harka diinotaatti kenneera;

isaan akkuma guyyaa ayyaana murteeffameetti
mana WAAQAYYOO keessatti sagalee ol fudhatanii iyyan.

8 WAAQAYYO dallaa naannoo
Intala Xiyoon jiru diiguuf murteesseera.
Inni safartuu diriirseera;
barbadeessuu irraas harka isaa hin deebifanne.
Akka dallaan eegumsaatii fi keenyan faarsanii boo'an godhe;
isaanis tokkummaadhaan badan.

9 Karrawwan ishee lafa keessa dhidhimaniiru;
inni danqaraawwan sibiila ishee caccabsee balleesseera.
Mootiin isheetii fi ilmaan mootota ishee booji'amanii
saboota gidduu bibittinnaa'aniiru;
seerri si'achi hin jiraatu;
raajonni ishees si'achi
WAAQAYYO biraa mul'ata hin argan.

10 Maanguddoonni Intala Xiyoon
cal'isanii lafa tataa'an;
isaan daaraa mataatti firfirfatanii
uffata gaddaas uffatan.
Shamarran Yerusaalem
mataa isaanii gad qabatan.

11 Iji koo boo'ichaan dadhabeera;
keessa kootti dhiphadheera;
sababii sabni koo dhumeef
sababii ijoollee fi daa'imman
daandiiwwan magaalaa irratti gaggabaniif
garaan koo gaddaan laafeera.

12 Isaan yommuu daandiiwwan magaalaa irratti
akkuma namoota madaa'aniitti gaggabanitti,
yommuu lubbuun isaanii
hammuu haadha isaanii irratti ba'uuf jirtutti
"Buddeennii fi daadhiin wayinii eessaa jiru?"
jedhanii haadhota isaanii gaafatu.

13 Yaa intala Yerusaalem,
ani maal siif jechuun danda'a?
Maaliinan wal si qixxeessa?
Yaa Intala Xiyoon durba qulqullittii
ani akkan si jajjabeessuuf
maalittin si fakkeessuu danda'a?
Madaan kee akkuma galaanaa gad fagoo dha.
Eenyutu si fayyisuu danda'a?

14 Mul'anni raajota keetii
sobaa fi kan faayidaa hin qabnee dha;
isaan booji'amuu kee hambisuuf
cubbuu kee ifa hin baafne.

Raajiin isaan siif kennanis
sobaa fi kan karaa irraa nama balleessuu dha.

15 Warri karaa keetiin darban hundinuu
harka isaanii sitti rurrukutu;
isaanis intala Yerusaalemitti
qoosuu fi mataa raasuudhaan,
“Magaalaan muummee miidhaginaa
gammachuu guutuu lafaa
jedhamtee waamamte sun kanaa?” jedhu.

16 Diinonni kee hundinuu
afaan isaanii sitti banatu;
isaan qoosuu fi ilkaan isaanii qaruudhaan
“Nu ishee liqimsineerra.
Guyyaan nu eeggachaa turre sun kanaa dha;
nu waan kana arguuf jiraanneerra” jedhu.

17 WAAQAYYO waan karoorfate hojjeteera;
dubbii isaa kan bara dheeraan dura
dubbate sana guuttateera.
Inni gara laafina tokko malee si garagalcheera;
akka diinni kee sitti gammadu godheera;
gaanfa amajaajii keetii ol ol qabeera.

18 Onneen namootaa
gara Gooftaatti iyya.
Yaa dallaa Intala Xiyoon
halkanii guyyaa
imimmaan kee akka lagaa haa yaa’u;
boqonnaa tokko illee ofii keetiif hin kennin;
iji kees hin boqotin.

19 Yommuu eegumsi halkanii jalqabutti
ka’iitii halkaniin iyyi;
fuula Gooftaa duratti
onnee kee akka bishaanii dhangalaasi.
Lubbuu ijoollee keetii
kanneen fiixee daandii hundaatti
beelaan gaggabaniitiif jedhiitii
harka kee gara isaatti ol qabadhu.

20 “Yaa WAAQAYYO, ati ilaali; argis:
Ati takkumaa eenyu irratti waan akkasii gootee beekta?
Haadhonni daa’imman isaanii,
ijoollee kunuunsanii guddisan nyaachuu qabuu?
Lubnii fi raajiin,
iddoo qulqulluu kan Gooftaa keessatti ajjeefamuu qabuu?

21 “Dargaggoonnii fi maanguddoonni,
walii wajjin awwaara karaa irra ciisu;
dargaggoonnii fi shamarran koo

goraadeedhaan ajjeefamaniiru.
Ati gaafa dheekkamsa keetiitti isaan fixxe;
gara laafina tokko malee isaan qalte.

22 “Ati akkuma guyyaa ayyaana murteeffameetti
nama waamtutti qixa hundaanuu sodaa natti waamte.
Guyyaa dheekkamsa WAAQAYYOOTTI,
homaa hin miliqne yookaan hin hafne;
warra ani da’ee guddise
diinni koo na jalaa balleesseera.”

# 3

1 Namni ulee dheekkamsa isaatiin
rakkina arge anaa dha.
2 Inni fuula isaa duraa na ari’ee
akka ani qooda ifaa dukkana keessa deemu na godhe;
3 dhugumaan inni guyyaa guutuu,
ammumaa amma harka isaa natti deebise.

4 Inni foon kootii fi gogaa koo dulloomseera;
lafee koo illee caccabseera.
5 Inni na marsee hadhaa’ummaa fi
gidiraa natti naannesseera.
6 Akkuma warra dur dhumanii
akka ani dukkana keessa jiraadhu na godhe.

7 Inni akka ani hin miliqneef dallaa natti ijaare;
foncaa ulfaatus natti fe’e.
8 Yommuu ani waammadhu yookaan gargaarsaaf iyyadhutti illee
inni kadhannaa koo dhaga’uu dida.
9 Karaa koo dhagaa soofameen cufe;
daandii koo illee ni jal’isa.

10 Inni akkuma amaaketa riphee waa eeggatuu,
akkuma leenca dhokatee jiruu
11 daandii irraa na harkisee na ciccire;
kophaatti na gate.
12 Inni iddaa isaa luqqifatee
xiyya isaa natti qabe.

13 Korojoo isaa keessaa xiyya baasee
onnee koo waraane.
14 Ani saba koo hundaaf waan kolfaa nan ta’e;
isaan guyyaa guutuu faaruudhaan natti qoosu.
15 Inni waan hadhaa’aa na nyaachise;
hadhooftuu illee na quubse.

16 Inni dhagaadhaan ilkaan koo cabse;
awwaara keessattis na dhidhiite.
17 Ani nagaa nan dhabe;

gammachuun maal akka ta’es nan irraanfadhe.
18 Kanaafuu ani “Ulfinni koo,
abdiin ani WAAQAYYO irraa qabu hundinuu badeera” nan jedhe.

19 Ani rakkinaa fi asii achi jooruu koo,
hadhaa’ummaa fi hadhooftuus nan yaadadha.
20 Lubbuun koo yeroo hunda waan kana yaaddi;
na keessattis gad of qabdi.
21 Ta’us ani waan kana nan qalbeeffadha;
kanaafuu ani abdii qaba.

22 Nu sababii jaalala WAAQAYYOO guddaa sanaatiif hin badnu;
gara laafinni isaa hin dhumuutii.
23 Isaan ganama hunda haaraa dha;
amanamummaan kees guddaa dha.
24 Anis, “WAAQAYYO qooda koo ti;
kanaafuu ani isa nan eeggadha” ofiin nan jedha.

25 WAAQAYYO warra isa abdataniif,
kanneen isa barbaadaniif gaarii dha;
26 Fayyisuu WAAQAYYOO
cal’isanii eeggachuun gaarii dha.
27 Yeroo dargaggummaa isaatti
waanjoo baachuun namaaf gaarii dha.

28 Inni kophaa isaa cal’isee haa taa’u;
WAAQAYYO isa baachiseeraatii.
29 Amma illee abdiin ni jira ta’aatii,
inni fuula isaa awwaara keessa haa suuqqatu.
30 Inni nama isa dha’utti maddii isaa haa qabu;
salphinaanis haa guutamu.

31 Gooftaan bara baraan
nama hin gatuutii.
32 Inni gadda fidu illee garaa ni laafa;
jaalalli isaa kan hin geeddaramne sun guddaadhaatii.
33 Inni itti yaadee rakkina
yookaan dhiphina sanyii namaatti hin fiduutii.

34 Yommuu hidhamtoonni biyyattii keessa jiran hundi
miilla jalatti dhidhiitaman,
35 yommuu fuula Waaqa Waan Hundaa Olii duratti
mirgi nama tokkoo dhiibamu,
36 yommuu murtiin qajeelaan dhabamu,
Gooftaan waan akkasii hin arguu?

37 Yoo Gooftaan ajajuu baate
eenyutu dubbatee waan sana fiixaan baasuu danda’a?
38 Wanni hamaanii fi wanni gaariin
afaanuma Waaqa Waan Hundaa Oliitii ba’a mitii?

39 Yoos namni lubbuun jiraatu kam iyyuu
maaliif yommuu cubbuu isaatiif
adabamutti guunguma ree?

40 Kottaa nu daandii keenya qorree haa ilaallu;
gara WAAQAYYOOTTIS haa deebinu.
41 Nu onnee keenyaa fi harka keenya
gara Waaqa samii keessa jiruutti ol qabnee akkana haa jennu:
42 “Nu cubbuu hojjenneerra; fincilleerras;
atis nuuf hin dhiifne.

43 “Ati dheekkamsaan of haguugdee nu ariite;
gara laafina malees nu fixxe.
44 Akka kadhannaan tokko iyyuu gara kee hin dhufneef
ati duumessaan of haguugde.
45 Ati saboota gidduutti
xurii fi kosii nu goote.

46 “Diinonni keenya hundinuu,
afaan nutti banataniiru.
47 Sodaa fi kiyyoon,
diigamuu fi badiisni nutti dhufeera.”
48 Sababii uummanni koo barbadaa’eef
lolaan imimmaanii ija koo keessaa yaa’a.

49 Iji koo boqonnaa malee
utuu gargar hin kutin imimmaan lolaasa;
50 kunis hamma WAAQAYYO
ol samiidhaa gad ilaalee argutti.
51 Sababii dubartoota magaalaa koo hundaatiif
wanni ani argu lubbuu koo gaddisiisa.

52 Warri sababii malee diina natti ta’an
akkuma simbiraa na adamsan.
53 Isaan lubbuu koo boolla keessatti galaafatanii
dhagaa natti garagalchuu yaalan;
54 bishaan mataa koo irra gara gale;
anis, “Baduu koo ti” nan jedhe.

55 Yaa WAAQAYYO, ani boolla qilee keessaa
maqaa kee nan waammadha.
56 Ati kadhannaa koo kan,
“Iyya ani gargaarsa barbaachaaf iyyu
dhaga’uu hin didin” jedhu dhageesseerta.
57 Yeroo ani si waammadhetti ati natti dhi’aattee
“Hin sodaatin” naan jette.

58 Yaa gooftaa ati dubbii koo naa falmite;
lubbuu koos ni baraarte.
59 Yaa WAAQAYYO, ati daba natti hojjetame argiteerta;
dubbii koo naa ilaali!
60 Ati haaloo ba’uu isaaniitii fi

natti malachuu isaanii hundas argiteerta.

61 Yaa WAAQAYYO, ati arraba isaaniitii fi
natti malachuu isaanii hunda dhageesseerta;
62 kunis arraba warra natti ka'aniitii fi
waan isaan guyyaa guutuu waa'ee koo hasaasanii dha.
63 Ati isaan ilaali! Isaan taa'anii yookaan dhadhaabatanii
weedduu isaaniitiin natti qoosu.

64 Yaa WAAQAYYO, waan isaaniif malu
akkuma hojii harka isaaniitti deebisii kenniif.
65 Onnee isaanii haguugi;
abaarsi kees isaan irra haa bu'u!
66 Samiiwwan WAAQAYYOO jalaa
dheekkamsaan isaan ari'ii isaan balleessis.

# 4

1 Warqeen akkamitti boorrajjaa'e?
Warqeen qulqulluunis akkamitti geeddarame!
Dhagaawwan iddoo qulqulluu
fiixee daandiiwwan hundaa irratti bibittinnaa'aniiru.

2 Ilmaan Xiyoon kanneen akka
warqee qulqulluutti ilaalamaa turan sun
amma akkamitti akka okkotee supheetti,
akka hojii suphee dhooftuutti ilaalamu!

3 Waangoonni iyyuu ilmaan isaanii hoosisuuf
harma isaanii ni kennu;
sabni koo garuu akkuma guchii gammoojjii
gara jabeessa ta'eera.

4 Sababii dheebuutiif arrabni daa'immanii
laagaatti maxxana;
ijoolleen buddeena kadhatti:
garuu namni isaaniif kennu tokko iyyuu hin jiru.

5 Warri dur cidha nyaachaa turan,
rakkatanii daandii irra jiru.
Warri dur uffata diimaa dhiilgee uffachaa turan
har'a tuullaa dikee hammatu.

6 Adabbiin yakka saba koo
adabbii yakka Sodoom
kan utuu harki nama ishee gargaaruuf hin tuqin
tasa badde sanaa caalaa guddaa ture.

7 Ilmaan mootota isaanii cabbii caalaa qulqulluu,
aannan caalaa adaadii turan;
dhagni isaanii lula diimaa caalaa diimaa,

bifti isaanii immoo sanpeer fakkaata ture.

8 Amma garuu qaqaa caalaa gurraacha'aniiru;
daandii irrattis namni isaan hubatu hin jiru.
Gogaan isaanii lafee isaaniitti maxxaneera;
akka mukaas gogeera.

9 Warra beelaan dhumanii mannaa,
warra goraadeedhaan ajjeefaman wayya;
Isaan waan nyaatamu lafa qotiisaa irraa dhabanii
beelaan alatti goggoganii dhumu.

10 Yeroo sabni koo dhumetti
dubartoonni gara laafoon harkuma isaaniitiin
akka nyaata isaanii ta'aniif
ijoollee ofii affeelan.

11 WAAQAYYO dheekkamsa isaa guutuu gad dhiise;
aarii isaa sodaachisaa sanas ni dhangalaase.
Xiyoon keessattis
ibidda hundeewwan ishee barbadeessu qabsiise.

12 Akka diinonni yookaan amajaajonni
karrawwan Yerusaalem seenuu danda'an,
mootonni biyya lafaa
yookaan sabni addunyaa tokko iyyuu hin amanne.

13 Garuu wanni kun sababii cubbuu
raajota isheetii fi balleessaa luboota ishee
kanneen ishee keessatti dhiiga qajeelotaa
dhangalaasan sanaatiif ta'e.

14 Isaan akkuma jaamotaa
daandii irra gatantaru.
Hamma namni tokko iyyuu wayyaa isaanii tuquu hin dandeenyetti
akka malee dhiigaan xuraa'aniiru.

15 Namoonnis, "Isin xuraa'oo dha! Asii badaa!
Badaa! Badaa! Nu hin tuqinaa!" jedhanii isaanitti iyyu.
Yommuu baqatanii asii fi achi jooranittis
saboonni Namoota Ormaa gidduu jiran,
"Isaan si'achi as jiraachuu hin danda'an" jedhu.

16 WAAQAYYO mataa isaatu isaan bittinneesse;
inni si'achi isaan hin eegu.
Luboonni hin kabajamne;
maanguddoonni surraa hin arganne.

17 Akkasumaan gargaarsa eeggachuudhaan
iji keenya dadhabe;
gamoo keenya irra teenyee

saba nu baasuu hin dandeenye irraa gargaarsa eegganne.

18 Akka nu daandii keenya irra deemuu hin dandeenyeef
namoonni tarkaanfii keenya eegu.
Dhumni keenya dhi’aateera;
guyyoonni keenyas gabaabataniiru;
badiisni keenya dhufeeraatii.

19 Warri nu ari’an
risaa samii caalaa saffisu;
isaan tulluuwwan irraa nu ari’anii
gammoojjii keessatti riphanii nu eeggatu.

20 Hafuurri lubbuu keenyaa kan WAAQAYYO dibe,
kiyyoo isaaniitiin qabame.
Nu waan gaaddidduu isaa jala,
Namoota Ormaa gidduu jiraannu seenee turre.

21 Yaa Intala Edoom kan biyya Uuzi keessa jiraattu
ati ililchi, gammadis.
Garuu xoofoon sun siifis ni kennama;
atis machooftee qullaa kee hafta.

22 Intala Xiyoon adabamuun kee ni dhuma;
inni bara booji’amuu keetii hin dheeressu.
Garuu yaa Intala Edoom, inni cubbuu kee ni adabe;
hammina kees ifatti baasa.

# 5

1 Yaa WAAQAYYO, waan nurra ga’e yaadadhu;
ilaali; salphina keenyas argi.
2 Handhuuraan keenya alagootaaf,
manneen keenyas Namoota Ormaatiif
dabarfamanii kennamaniiru.
3 Nu ijoollee abbaa hin qabne taane;
haadhonni keenya immoo
haadhota hiyyeessaa ta’aniiru.
4 Nu bishaan dhugnuuf kaffaluu qabna turre;
qoraan illee bittaa qofaan arganna.
5 Warri nu ari’an koomee keenya bira jiru;
nu dadhabneerra; boqonnaas hin qabnu.
6 Nu buddeena ga’aa argachuuf jennee
warra Gibxittii fi warra Asooritti harka kennine;
7 Abbootiin keenya cubbuu hojjetanii darban;
nu immoo adabbii isaanii baanne.
8 Garbootatu nu bulcha;
namni harka isaaniitii bilisa nu baasu tokko iyyuu hin jiru.
9 Sababii goraadee gammoojjii jiruutiin
lubbuu keenya balaaf saaxillee buddeena arganna.
10 Gogaan keenya sababii beelaatiin

akkuma badaa ibiddaa ho’a.
11 Xiyoon keessatti dubartoonni,
magaalaawwan Yihuudaa keessattis dubarran qulqulluun
humnaan gudeedaman.
12 Ilmaan moototaa harka isaaniitiin fannifamaniiru;
maanguddoonni ulfina hin arganne.
13 Ga’eessonni akka midhaan daakan dirqisiifaman;
ijoolleen dhiiraa muka baachuun gatantaran.
14 Maanguddoonni karra magaalaa duraa deemaniiru;
dargaggoonnis weedduu isaanii dhiisaniiru.
15 Gammachuun garaa keenya keessaa badeera;
shuubbisuun keenyas boo’ichatti geeddarameera.
16 Gonfoon mataa keenya irraa bu’eera.
Nuuf wayyoo; nu cubbuu hojjenneerraatii!
17 Sababii waan kanaatiif onneen keenya ni gaggabe;
sababii waan kanaatiif immoo iji keenya dadhabe;
18 Tulluun Xiyoon kan onee hafe sun
lafa waangoonni irra burraaqan ta’eeraatii.

19 Yaa WAAQAYYO, ati bara baraan bulchi;
teessoon kees dhalootaa gara dhalootaatti itti fufa.
20 Ati maaliif guutumaan guutuutti nu irraanfatta?
Maaliif bara dheeraas nu dhiifta?
21 Yaa WAAQAYYO, akka nu deebinuuf ofitti nu deebisi;
bara keenya illee akkuma duriitti haaromsi.
22 Ati yoo guutumaan guutuutti nu gatuu baatte,
yoo akka malees nutti dheekkamuu baatte waan kana godhi.

# Raajii
# Hisqi’eel

*Uumamawwan Jiraatoo fi Ulfina WAAQAYYOO*

1 Waggaa soddommaffaa keessa, bultii shanaffaa ji’a afuraffaatti utuu ani Laga
Kebaar biratti booji’amtoota gidduu jiruu samiiwwan ni banaman; anis mul’ata
Waaqaa nan arge.

2 Ji’a sana keessaas bultii shanaffaatti jechuunis Yehooyaakiin Mootichi booji’amee
waggaa shanaffaatti, 3 dubbiin WAAQAYYOO Laga Kebaar biratti biyya Baabilonotaa
keessatti gara Hisqi’eel lubicha ilma Buuz dhufe. Achittis harki WAAQAYYOO isa irra
ture.

4 Anis mil’adhee bubbee hamaa karaa kaabaatiin dhufaa jiru jechuunis duumessa
guddaa balaqqeessa ifuu fi ifa guddaan marfame tokkon arge. Wiirtuun ibidda sanaas
sibiila ibiddaan diimeffame fakkaata ture; 5 ibidda sana keessas waan uumamawwan
jiraatoo afur fakkaatu tokkotu ture. Bifti isaas bifa namaa fakkaata ture; 6 tokkoon
tokkoon isaanii fuula afur afurii fi qoochoo afur afur qabu turan. 7 Miilli isaanii
qajeelaa dha; faanni isaanii immoo kottee jabbii fakkaatee akka naasii dibameetti
ni calaqqisa ture. 8 Qoochoo isaanii jalaanis qixa afraniin harka namaa qabu ture.
Afran isaanii hundi fuulaa fi qoochoo qabu turan; 9 qoochoon isaaniis wal tuqa ture.
Tokkoon tokkoon isaanii qajeelanii fuula duratti deeman; yeroo deemanittis of duuba
hin mil’atan ture.

10 Fuulli isaanii kana fakkaata ture: Afran isaanii iyyuu tokkoon tokkoon isaanii
fuula namaa qabu ture; karaa mirgaatiin tokkoon tokkoon isaanii fuula leencaa,
karaa bitaatiin immoo fuula qotiyyoo qabu ture; akkasumas tokkoon tokkoon isaanii
fuula risaa qabu ture. 11 Egaa fuulli isaanii akkas ture. Qoochoon isaaniis ol
diriirfama ture. Tokkoon tokkoon isaanii qoochoo lama lama qabu ture. Qoochoo
tokkoo tokkoo isaanii karaa lamaaniinuu qoochoo uumama kaanii tuqa; qoochoon
lama immoo dhagna isaa haguuga ture. 12 Tokkoon tokkoon isaanii qajeelanii fuula
duratti ni deeman. Isaanis utuu of irra hin mil’atin iddoo hafuurri deemu hunda
dhaqu turan. 13 Bifti uumamawwan jiraatoo sanaa cilee ibiddaa kan boba’u yookaan
guca boba’u fakkaata ture. Uumamawwan sana gidduus ibiddi asii fi achi sosocho’a
ture; ni ifas ture; bakakkaanis isa keessaa ni ba’a ture. 14 Uumamawwan sunis akka
ifa bakakkaa asii fi achi darbatamu ture.

15 Anis akkuman uumamawwan jiraatoo sana ilaaleen tokkoo tokkoo uumama
fuula afur afur qabu sanaa cinatti geengoo tokko tokko nan arge. 16 Biftii fi
haalli geengoowwan sun ittiin hojjetamaniis akkana ture: Isaanis akka dhagaa gati
jabeessa biiralee jedhamuu calaqqisu ture; afran isaanii hundinuu wal fakkaatu ture.
Tokkoon tokkoon geengoo sanaa waan geengoo kaanitti diramee hojjetame fakkaata
ture. 17 Isaanis yommuu deemanitti utuu of irra hin mil’atin kallattii afran kamiin
iyyuu deeman; yommuu uumamawwan sun deemanis geengoowwan kallattii hin
geeddaratan ture. 18 Qarqarri geengoowwan sanaas ol dheeraa fi sodaachisaa ture;
qarqarri geengoowwanii afranuus guutumaan guutuutti ijaan marfamanii turan.

19 Yeroo uumamawwan jiraatoon sun deemanitti geengoowwan isaan cinaan
jiranis ni deeman; yommuu uumamawwan jiraatoon ol ka’anitti geengoowwanis
ol ka’an. 20 Iddoo hafuurri dhaqu hundas ni dhaqu ture; sababii hafuurri uuma-
mawwan jiraatoo sanaa geengoowwan keessa jiruuf geengoowwanis isaan wajjin
ol ka’an. 21 Yommuu uumamawwan sun deemanitti isaanis ni deeman; yommuu
uumamawwan dhaabatanitti isaanis ni dhaabatan; sababii hafuurri uumamawwan

jiraatoo sanaa geengoowwan keessa jiruuf yommuu uumamawwan sun lafaa ol
ka'anitti geengoowwanis isaanuma wajjin ol ka'an.
22 Mataa uumamawwan jiraatoo sanaatiin ol waan akka bantii samii kan akka
bilillee calaqqisuu fi kan nama sodaachisu tokkotu diriirfamee ture. 23 Bantii samii
sana jalatti qoochoowwan isaaniis walitti diriirfamanii turan; tokkoon tokkoon
isaaniis qoochoowwan ittiin dhagna isaanii haguuggatan lama lama qabu turan.
24 Yeroo uumamawwan sun deemanitti ani sagalee qoochoowwan isaanii nan
dhaga'e; sagaleen kunis sagalee akka bishaan guutee huursuu, akka sagalee Waaqa
Waan Hunda Danda'uutii fi akka waca tuuta loltootaa ture. Isaan yeroo dhaabatan
qoochoowwan isaanii gad qabatu ture.
25 Akkuma isaan qoochoo isaanii gad qabatanii dhaabataniinis bantii samii kan
mataa isaaniitiin ol jiru sana irraa sagaleen tokko dhufe. 26 Bantii samii kan mataa
isaaniitii ol jiru gubbaa waan akka teessoo sanpeer fakkaatu tokkotu ture; teessoo
sanaa olittis fakkaattii akka fakkaattii namaa tokkotu ture. 27 Anis waan mudhii isaa
fakkaatuun olitti sibiila diimeffamee ibidda fakkaatu kan ibiddaan guutame tokko
nan arge; waan mudhii isaa fakkaatu sanaan gadittis inni ibidda fakkaata ture; ifni
guddaanis isa marsee ture. 28 Gonfoon ifaa kan naannoo isaa ture sunis bifa sabbata
Waaqaa kan guyyaa roobni roobuu fakkaata ture.
Kunis bifa fakkaattii ulfina WAAQAYYOO ture. Anis yeroon waan kana argetti addaan lafatti gombifamee sagalee waan dubbachaa jiru tokkoo nan dhaga'e.

# 2

*Waamamuu Hisqi'eel*

1 Innis, "Yaa ilma namaa, miilla keetiin dhaabadhu; ani sittan dubbadhaa"
naan jedhe. 2 Akkuma inni dubbateenis Hafuurri anatti seenee miilla kootiin na
dhaabachiise; anis isaa natti dubbatu nan dhaga'e.
3 Innis akkana naan jedhe: "Yaa ilma namaa, ani gara Israa'elootaatti, gara saba
fincilaa kan natti fincile sanaatti sin erga; isaanii fi abbootiin isaanii hamma har'aatti
natti fincilaniiru. 4 Sabni ani itti si ergu sun didaa fi mata jabeessa. Atis, 'WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha' jedhiin. 5 Isaan mana fincilaadhaatii; dhaga'anis dhaga'uu
baatanis akka raajiin isaan gidduu jiru ni beeku. 6 Yaa ilma namaa, ati isaan yookaan
dubbii isaanii hin sodaatin. Sokorruu fi qoraattiin si marsus, torbaanqabaa gidduu
jiraattus hin sodaatin. Isaan mana fincilaa ta'an iyyuu ati waan isaan dubbatan hin
sodaatin yookaan isaan si hin rifachiisin. 7 Waan isaan finciltoota ta'aniif, dhaga'anis
dhaga'uu baatanis ati dubbii koo isaanitti himuu qabda. 8 Yaa ilma namaa, ati garuu
waan ani siin jedhu dhaggeeffadhu; ati akka mana fincilaa sanaa hin fincilin; afaan
kee banadhuutii waan ani siif kennu nyaadhu."
9 Kana irratti ani utuu harki tokko natti hiixatuun arge. Harka sana keessas kitaaba
maramaa tokkotu ture; 10 innis fuula koo duratti kitaaba sana diriirse. Kitaaba sana
irrattis, duraa duubaan faaruun boo'ichaa, gaddii fi wawwaannaan barreeffamanii turan.

# 3

1 Innis, "Yaa ilma namaa waan fuula kee dura jiru nyaadhu; kitaaba maramaa kana
nyaadhu; ergasii dhaqiitii mana Israa'elitti himi" naan jedhe. 2 Kanaafuu ani afaan
koon banadhe; innis akka ani nyaadhuuf kitaaba maramaa sana naa kenne.
3 Innis, "Yaa ilma namaa, kitaaba maramaa ani siif kennu kana nyaadhu; garaa kees
ittiin guuttadhu" naan jedhe. Anis nan nyaadhe; afaan koo keessattis akka dammaa natti mi'aawe.

4 Ergasii immoo akkana naan jedhe: “Yaa ilma namaa, amma gara mana Israa’el
dhaqiitii dubbii koo isaanitti himi. 5 Ati gara mana Israa’elitti malee gara uummata
haasaan isaa namaa hin gallee fi afaan isaa nama rakkisuutti hin ergamne; 6 ati gara
uummata haasaan isaanii namaa hin gallee fi afaan isaanii nama rakkisu kan ati
dubbii isaanii illee hubachuu hin dandeenyeetti hin ergamne. Dhugumaan utuu ani
isaanitti si ergee jiraadhee silaa isaan si dhaggeeffatu ture. 7 Manni Israa’el garuu
sababii ana dhaga’uu hin feeneef siinis dhaga’uu hin fedhan; manni Israa’el hundi
didaa fi mata jabeeyyiidhaatii. 8 Kunoo, ani fuula kee fuula isaaniitti jabeesseera;
adda kee illee adda isaatiin jabeesseera. 9 Adda kee akka dhagaa akka malee jabaa
kan dhagaa baalcii caalaa jabaatuu nan godha. Isaan mana fincilaa ta’an iyyuu ati
isaan hin sodaatin yookaan isaan si hin rifachiisin.”

10 Innis akkana naan jedhe; “Yaa ilma namaa, waan ani sitti dubbadhu hunda
sirriitti dhaga’iitii garaatti qabadhu. 11 Amma gara saba kee warra booji’aman
sanaa dhaqiitii isaanitti dubbadhu. Isaan dhaga’anis dhaga’uu baatanis, ‘WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha’ jedhiin.”

12 Ergasiis Hafuurri ol na kaase; anis sagalee guddaa gigigsu kan, “Ulfinni
WAAQAYYOO iddoo jireenya isaatti haa eebbifamu!” jedhu tokko of duubaan
nan dhaga’e. 13 Sagaleen kunis sagalee guddaa gigigsu kan yeroo qoochoowwan
uumamawwan jiraatoo sanaa wal riganii fi sagaleen geengoowwan isaan cina jiran
dhageessisan ture. 14 Hafuurris ol na kaasee na fudhatee deeme; anis hadheeffadhee
utuma hafuurri koo aaree gubatuu nan deeme; harki WAAQAYYOO jabaan sunis ana
irra ture. 15 Anis gara booji’amtoota Teel Abiib keessa Laga Kebaar bira jiraatan
sanaan dhufe. Achittis waanan godhu wallaalee guyyaa torba isaan gidduu nan taa’e.

### *Akeekkachiisa Israa’eliif Kenname*

16 Dhuma guyyaa torbaffaatti dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe;
17 “Yaa ilma namaa, ani mana Israa’eliitiif eegduu si godheera; kanaafuu dubbii
ani dubbadhu dhaga’iitii akeekkachiisa na biraa ba’u isaaniif kenni. 18 Yeroo ani
nama hamaa tokkoon, ‘Ati dhugumaan ni duuta’ jedhutti, yoo ati isa akeekkachiisuu
yookaan akka inni karaa isaa hamaa irraa deebi’ee lubbuu isaa oolfatu itti himuu
baatte, namichi hamaan sun sababii cubbuu isaatiin ni du’a; dhiiga isaa garuu ani
harka kee irraa nan barbaada. 19 Garuu yoo ati nama hamaa sana akeekkachiiftee
inni immoo hammina isaa irraa yookaan karaa isaa isa hamaa sana irraa deebi’uu
baate, inni cubbuu isaatiin ni du’a; ati garuu lubbuu kee ni oolfatta.

20 “Amma illee yoo namni qajeelaan tokko qajeelummaa isaa irraa jal’atee
hammina hojjete, ani fuula isaa dura gufuu nan kaa’a; innis ni du’a. Waan ati isa hin
akeekkachiisiniif inni cubbuu isaatiin ni du’a; wanni qajeelaan inni hojjete sunis isaaf
hin herregamu; anis dhiiga isaatiif sin gaafadha. 21 Garuu yoo ati nama qajeelaa sana
akka inni cubbuu hin hojjenneef isa akeekkachiiftee innis cubbuu hojjechuu baate,
inni sababii akeekkachiisa sana fudhateef dhugumaan lubbuudhaan ni jiraata; atis
lubbuu kee ni oolfatta.”

22 Achittis harki WAAQAYYOO narra ture; innis, “Ka’iitii gara dirreetti ba’i; anis
achitti sitti nan dubbadhaa” naan jedhe. 23 Kanaafuu ani ka’ee gara dirreetti nan
ba’e. Ulfinni WAAQAYYOOS achi dhaabatee ture; innis ulfina ani Laga Kebaar biratti
argee ture sana fakkaata; anis adda kootiin lafatti nan gombifame.

24 Ergasii Hafuurri anatti seenee miilla kootiin na dhaabachiise. Innis akkana
jedhee natti dubbate: “Mana keetti galiitii ofitti cufi. 25 Yaa ilma namaa, isaan
funyoodhaan si hidhu; ati akka uummata gidduu deemuu hin dandeenyeef ni
hidhamta. 26 Isaan mana fincilaa ta’an iyyuu, ani akka ati hin dubbannee fi isaanitti
dheekkamuu hin dandeenyeef arraba kee laagaa keetti nan maxxansa. 27 Ani yeroon

sitti dubbadhutti garuu afaan kee siifan bana; atis, 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha' isaaniin jetta. Namni dhaga'uu barbaadu kam iyyuu haa dhaga'u; namni dhaga'uu hin barbaanne kam iyyuu dhaga'uu haa dhiisu; isaan mana fincilaadhaatii.

# 4

*Marfamuu Yerusaalem*

1 "Yaa ilma namaa, gabatee suphee tokko fuudhii fuula kee dura kaa'iitii kaartaa
magaalaa Yerusaalem irratti kaasi. 2 Ergasii waan ittiin marsan itti ijaari; dallaa
dhagaatiin ishee marsi; kaabii itti naannessii tuuli; waan ittiin dallaa dhagaa jigsanis
itti marsii kaa'i. 3 Eelee sibiilaa fuudhiitii akka dallaa sibiilaatti si'ii fi magaalattii
gidduu dhaabi; fuula kees gara isheetti deebifadhu; magaalattiin ni marfamti; atis
ishee marsita. Kunis mana Israa'eliif mallattoo ni ta'a.
4 "Ergasii cinaacha bitaatiin ciisiitii cubbuu mana Israa'el of irra kaa'i. Guyyaa
cinaacha keetiin ciifte sana hundas ati cubbuu isaanii ni baatta. 5 Ani baay'ina
waggoota isaan itti cubbuu hojjetan sanaa akka guyyootaatti ramadee siif kenneera.
Kanaafuu ati cubbuu mana Israa'el guyyaa 390 ni baatta.
6 "Ati erga waan kana fixxee booddee amma illee ciisi; yeroo kana immoo cinaacha
kee kan mirgaatiin ciisiitii cubbuu mana Yihuudaa baadhu. Anis tokkoo tokkoo
waggaatiif guyyaa tokko tokko ramadee, guyyaa 40 siif kenneera. 7 Fuula kee gara
marfama Yerusaalemitti deebifadhuutii irree qullaadhaan isheetti raajii dubbadhu.
8 Hamma ati guyyoota marfama keetii fixattutti akka ati cinaacha tokko irraa gara
cinaacha kaaniitti hin garagalleef ani funyoodhaan sin hidha.
9 "Qamadii fi garbuu, baaqelaa fi misira, bisingaa fi honborii fuudhii okkotee keessa
kaa'adhuutii ittiin buddeena tolfadhu. Buddeena kanas yeroo guyyoota 390 cinaacha
keetiin ciiftutti nyaatta. 10 Ati akka guyyaa guyyaan nyaattuuf nyaata saqilii digdama
madaali; isas yeroo murteeffametti nyaadhu. 11 Akkasuma bishaan safartuu iinii
tokko harka ja'a keessaa harka tokko safariitii yeroo murteeffametti dhugi. 12 Nyaata
sanas akkuma Maxinoo garbuu nyaattutti nyaadhu; isas udaan namaa bobeesiitii
Maxinoo tolchi." 13 WAAQAYYOS "Haala kanaan ijoolleen Israa'el saboota ani itti isaan
bittinneessu keessatti nyaata xuraa'aa nyaatu" jedhe.
14 Anis akkanan jedhe; "Yaa WAAQAYYO Gooftaa akkana miti! Ani takkumaa of
xureessee hin beeku. Ijoollummaa kootii jalqabee hamma ammaatti takkumaa waan
ofiin du'e yookaan waan bineensi ajjeese nyaadhee hin beeku. Foon qulqulluu hin
ta'in gonkumaa afaan koo seenee hin beeku."
15 Innis, "Kun gaarii dha; ani akka ati qooda udaan namaatiin buddeena kee tolfattu
akka dikee sa'aatiin tolfattu siifin eeyyama" naan jedhe.
16 Innis ittuma fufee akkana naan jedhe: "Yaa ilma namaa ani madda nyaata
Yerusaalem nan gogsa; uummanni nyaata safarame yaaddoodhaan nyaata; bishaan
safarames sodaadhaan dhuga; 17 hanqinni midhaaniitii fi bishaanii ni jiraataatii.
Isaanis naasuudhaan wal ilaalu; sababii cubbuu isaaniitiinis ni badu.

# 5

1 "Yaa ilma namaa, goraadee qara qabu fudhadhuutii akkuma qarabaa ittiin haad-
datanitti mataa keetii fi areeda kee ittiin haaddadhu. Rifeensa sanas madaaliidhaan
madaaliitii gargar qoodi. 2 Yeroo barri marfamuu keetii dhumatutti rifeensa sana
keessaa harka sadii keessaa harka tokko magaalattii keessatti ibiddaan gubi. Harka
sadii keessaa harka tokko fuudhii magaalattii marsiitii goraadeen cicciri. Harka
sadii keessaa harka tokko immoo bubbeetti bittinneessi. Ani goraadee luqqifameen
isaanan ari'aatii. 3 Rifeensa sana irraa xinnoo fuudhiitii handaara wayyaa keetiitti

guduunfadhu. 4 Ammas kanneen keessaa xinnoo fuudhiitii ibiddatti naqi; gubis.
Ibiddi achii ka'ee guutummaa mana Israa'el keessa faffaca'a.
5 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yerusaalem isheen ani biyyoota itti naan-
nessee saboota walakkaa teessise sun ishee kanaa dha. 6 Isheenis sabootaa fi
biyyoota naannoo ishee jiraatan caalaa hammina isheetiin seera kootii fi ajaja kootti
fincilteerti; isheen seera koo gatteerti; ajaja koos duukaa hin buune.
7 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Isin saboota naannoo keessan
jiraatan caalaa warra hin ajajamne taataniirtu; isin ajaja koo duukaa hin buune
yookaan seera koo hin eegne. Isin seera saboonni naannoo keessan jiraatan eegani
iyyuu hin eegne.
8 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa Yerusaalem, ani mataan
koo sittan ka'a; fuula sabootaa durattis sin adaba. 9 Ani sababii waaqota kee
jibbisiisoo hundaatiif waanan kanaan dura takkumaa godhee hin beekin, waanan
si'achis gonkumaa hin goone sitti nan fida. 10 Kanaafuu si keessatti abbootiin
ijoollee isaanii ni nyaatu; ijoolleen immoo abbootii isaanii ni nyaatu. Ani sin adaba;
hambaawwan kee hundas bubbeetti nan bittinneessa. 11 Kanaafuu akkuma ani
dhugumaan jiraataa ta'e, jedha WAAQAYYO Gooftaan; sababii ati fakkiiwwan kee
kanneen faayidaa hin qabne hundaa fi gochawwan kee jibbisiisoo sanaan mana
qulqullummaa koo xureessiteef ani fuula koo sirraa nan deebiffadha; ani si hin
baraaru yookaan garaa siif hin laafu. 12 Uummanni kee harka sadii keessaa harki
tokko dha'ichaan du'a yookaan beelaan si keessatti dhuma; harka sadii keessaa harki
tokko dallaa keetiin alatti goraadeedhaan galaafatama; harka sadii keessaa harka
tokko immoo anatu bubbeetti bittinneessa; goraadee luqqifameenis ari'a.
13 "Ergasii aariin koo narraa gala; dheekkamsi koo kan isaanitti dhufe sun ni
qabbanaa'a; anis haaloo nan baafadha. Yeroo ani dheekkamsa koo isaanitti fidetti
isaan akka ani WAAQAYYO hinaaffaa kootiin dubbadhe ni beeku.
14 "Saboota naannoo kee jiraatan gidduutti fuula warra achiin darban hundaa
duratti onaa fi waan fafaa sin godha. 15 Yeroo ani aariidhaan, dheekkamsaa fi
adabbiidhaan si adabutti, ati fuula saboota naannoo kee jiraatanii duratti waan
fafaa, waan kolfaa, waan ilaalanii quba itti qabanii fi waan sodaa ni taata. Ani
WAAQAYYO dubbadheera. 16 Ani yeroon xiyya beelaa kan nama ajjeesuu fi nama
barbadeessu isinitti darbadhutti isin balleessuuf jedheen darbadha. Ani beela irratti
beela isinittin fida; madda nyaata keessaniis nan gogsa. 17 Ani beelaa fi bineensa
isinittan erga; isaanis ijoollee malee isin hambisu. Dha'ichii fi dhangalaafamuun
dhiigaa isin haxaa'a; ani goraadee isinittin fida. Ani WAAQAYYO dubbadheera."

# 6

*Adabbii Tulluuwwan Israa'el Eeggatu*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
fuula kee gara tulluuwwan Israa'elitti deebifadhuutii isaaniin mormuudhaan raajii
dubbadhu; 3 akkanas jedhi; 'Yaa tulluuwwan Israa'el, dubbii WAAQAYYO Gooftaa
dhaga'aa. WAAQAYYO Gooftaan tulluuwwanii fi gaarraniin, hallayyaawwanii fi
sululawwaniin akkana jedha: Ani goraadee isinitti fiduufan jira; iddoowwan sagadaa
keessan kanneen iddoo ol ka'aa irraa illee nan balleessa. 4 Iddoowwan aarsaa keessan
ni diigamu; iddoowwan aarsaa keessanii kan ixaanaa ni caccabu; anis namoota
keessan fuula waaqota keessan tolfamoo duratti nan gorra'a. 5 Reeffa Israa'elootaa
fuula waaqota isaanii tolfamoo dura nan ciciibsa; lafee keessanis naannoo iddoo
aarsaa keessaniitti nan bittinneessa. 6 Akka iddoowwan aarsaa keessanii diigamanii
barbadeeffamaniif, akka waaqonni keessan tolfamoon caccabanii hunkutaa'aniif,
akka iddoowwan aarsaa keessanii kan ixaanaa burkuteeffamanii fi akka hojiin

harka keessanii balleeffamuuf iddoo isin jiraattan hunda keessatti magaalaawwan
keessan ni onu; iddoowwan sagadaa keessan kanneen iddoowwan ol ka'oo irraas
ni barbadeeffamu. 7 Namoonni keessan qalamanii gidduu keessanitti harca'u; isinis
akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.
8 " 'Ani garuu yommuu isin biyyootaa fi saboota gidduutti bittinnooftanitti sababii
isin keessaa gariin goraadee jalaa miliqxaniif, namoota muraasa nan hambisa.
9 Warri miliqan sun saboota itti booji'aman sana keessa taa'anii yaada isaanii ejjaa isa
narraa garagalee fi ija isaanii isa waaqota isaanii tolfamoo dharra'e sanaan hammam
akka na gaddisiisan ni yaadatu. Isaanis hammina hojjetanii fi gochawwan isaanii
jibbisiisoo hundaaf of jibbu. 10 Isaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku; ani waan
hamaa kana isaanittin fida jedhee akkasumaan hin dubbanne.
11 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Sababii hamminaatii fi gochaawwan
jibbisiisoo mana Israa'el hundaatiif isaan goraadeedhaan, beelaa fi dha'ichaan ni
dhumuutii harka kee walitti rukutii, miilla keetiinis lafa dhiitii, "Ani bade!" jedhii
boo'i. 12 Inni fagoo jiru dha'ichaan ni du'a; kan dhi'oo jirus goraadeedhaan ni galaafa-
tama; kan hafee fi kan miliqe immoo beelaan du'a. Anis haala kanaan dheekkamsa
koo isaanitti nan roobsa. 13 Isaan yeroo namoonni isaanii naannoo iddoowwan
aarsaa isaaniitti, waaqota isaanii tolfamoo gidduutti, gaarran ol dhedheeroo hunda
irratti, fiixee tulluuwwanii hunda irratti, mukkeen lalisoo hunda jalattii fi qilxuu
baala baay'atu hunda jalatti jechuunis iddoowwan isaan itti waaqota isaanii tolfamoo
sanaaf ixaana urgaa'aa aarsan hundatti gorra'amanii ciciisanitti, akka ani WAAQAYYO
ta'e ni beeku. 14 Anis harka koo isaanitti nan kaasa; iddoo isaan jiraatan hundatti
jechuunis gammoojjiidhaa jalqabee hamma Diblaatiitti biyyattii nan onsa. Isaanis
akka ani Waaqa ta'e ni beeku.' "

# 7

*Dhumni Dhufeera*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
WAAQAYYO Gooftaan biyya Israa'eliin akkana jedha:
" 'Dhuma! Golee biyyattii afranitti
dhumni dhufeera.
3 Ammas dhumni kee ga'eera;
dheekkamsa koo sirratti nan dhangalaasa;
ani akkuma amala keetiitti sitti nan mura;
gochawwan kee jibbisiisoo hundaafis ani sin adaba.
4 Ani gara laafinaan si hin ilaalu
yookaan si hin baasu;
ani hamma gochawwan kee jibbisiisoon sun si gidduu jiranitti,
amala keetiif sin adaba.
" 'Ergasiis isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.'

5 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
" 'Badii! Badiin takkaa hin dhaga'amin
tokko dhufaa jira.
6 Dhumni dhufeera!
Dhumni dhufeera!
Inni mataan isaa isinitti ka'eera.
Inni dhufeera!
7 Yaa warra biyyattii keessa jiraattan,
badiin isinitti dhufeera.
Yeroon ga'eera; guyyaan dhi'aateera;

tulluuwwan irratti gammachuu utuu hin ta’in jeequmsatu ta’a.
8 Ani dheekkamsa koo sitti dhangalaasuudhaafan jira;
aarii koo illee sitti nan ba’a;
akkuma amala keetiittis sitti nan mura;
gochaawwan kee jibbisiisoo sana hundaafis sin adaba.
9 Ani gara laafinaan si hin ilaalu
yookaan si hin baraaru.
Hamma gochawwan kee jibbisiisoon sun si gidduu jiranitti
ani akkuma amala keetiitti sin adaba.

“ ‘Ergasiis akka kan rukutu sun ana Waaqayyo ta’e isin ni beektu.
10 “ ‘Guyyaan sun kunoo ti!
Inni dhufeera!
Badiin cabsee dhufeera;
uleen lateera;
of tuulummaan daraareera!
11 Gooliin guddatee ulee hammina adabu ta’eera;
isaan keessaa namni tokko iyyuu hin hafu;
waldaa isaanii keessaa,
qabeenya isaaniitii fi
waan faayidaa qabu keessaa
tokko iyyuu hin hafu.
12 Yeroon sun dhufeera;
guyyaan sun ga’eera.
Inni bitu hin gammadin;
kan gurgurus hin gaddin;
dheekkamsi guutummaa isaaniitti dhufaatii.
13 Hamma lamaan isaanii iyyuu lubbuun jiranitti
inni lafa gurgure hin deebifatu;
mul’anni waa’ee sabaatiif mul’ate
duubatti hin deebi’uutii.
Sababii cubbuu isaaniitiif isaan keessaa namni tokko iyyuu
lubbuu ofii isaa hin oolfatu.

14 “ ‘Sababii dheekkamsi koo waldaa hunda irra jiruuf
isaan malakata afuufanii
waan hunda qopheeffatan iyyuu,
namni tokko iyyuu gara adda waraanaa hin dhaqu.
15 Alaan goraadeetu jira;
keessaan immoo dha’ichaa fi beelatu jira;
warri baadiyyaa goraadeedhaan du’u;
warri magaalaa keessaa immoo beelaa fi dha’ichaan dhumu.
16 Baqattoonni warri miliqan
tulluuwwanitti baqatu.
Tokkoon tokkoon isaanii
akkuma gugeewwan sululaa
sababii cubbuu isaaniitiif ni aadu.
17 Harki hundi ni naafata;
jilbi hundinuus bishaan ta’a.
18 Isaan wayyaa gaddaa uffatanii
sodaadhaan haguugamu.
Fuulli isaanii qaanii uffata;

mataan isaaniis ni haadama.

19 " 'Isaan meetii isaanii daandiiwwan irratti gatu;
warqeen isaanii akka waan xuraa'aa ta'a.
Guyyaa dheekkamsa WAAQAYYOOTTI meetii fi
warqeen isaanii isaan oolchuu hin danda'u.
Isaan nyaatanii beela hin ba'an
yookaan garaa isaanii hin guuttatan;
meetii fi warqeen isaanii isaan gufachiisee
cubbuutti isaan galcheeraatii.
20 Isaan faaya bareedaa isaaniitiin of tuulanii
waaqota isaanii jibbisiisoo fi fakkiiwwan faayidaa hin qabne sana
tolchuuf itti fayyadaman.
Kanaafuu ani wantoota kanneen
gara waan xuraa'aatti isaan duraa nan geeddara.
21 Ani harka namoota biyya ormaatti boojuudhaaf,
hamoota lafaattis saamichaaf dabarsee ishee nan kenna;
isaanis isa ni xureessu.
22 Ani fuula koo isaan irraa nan deebifadha;
isaanis iddoo koo jaallatamaa sana ni xureessu;
saamtonnis itti seenanii ni xureessu.

23 " 'Sababii biyyattiin dhiiga dhangalaasuudhaan,
magaalattiin immoo gooliidhaan guutamteef
foncaa qopheessi.
24 Ani akka isaan manneen isaanii dhaalaniif
warra saboota keessaa akka malee hamoo ta'an nan fida;
of tuulummaa namoota jajjaboo nan cabsa;
manneen qulqullummaa isaaniis nan xureessa.
25 Yeroo raafamni dhufutti isaan nagaa barbaadu;
garuu tokko illee hin argatan.
26 Badiin badii irratti,
oduunis, oduu irratti ni dhufa.
Isaan raajii irraa mul'ata argachuu ni yaalu;
seerri luboota biraa,
gorsi immoo maanguddoota biraa ni dhabama.
27 Mootiin ni boo'a;
ilmi mootii abdii kutata;
harki uummata biyyattii ni hollata.
Ani akkuma hojii isaaniitti gatii isaanii nan kennaaf;
akkuma seera ofii isaaniittis murtii nan kennaaf.

" 'Ergasiis isaan akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku.' "

# 8

## *Mana Qulqullummaa keessatti Waaqa Tolfamaa Waaqessuu*

1 Waggaa ja'affaatti, ji'a ja'affaa keessa guyyaa shanaffaatti, utuu ani mana koo
keessa taa'ee, maanguddoonni Yihuudaas fuula koo dura tataa'anii jiranuu achumatti
harki WAAQAYYO Gooftaa narra bu'e. 2 Anis mil'adhee fakkaattii akka fakkaattii
namaa tokko nan arge. Innis waan mudhii isaa fakkaatuu gaditti ibidda fakkaata
ture; achii olitti immoo bifti isaa sibiila ibiddaan diimeffamee ifu fakkaata ture.
3 Innis waan harka fakkaatu tokkoon hiixatee rifeensa mataa kootii qabe. Hafuurris

lafaa fi samii gidduutti ol na fuudhee mul'ata Waaqaatiin gara Yerusaalem, gara karra
balbala kaabaa kan oobdii gara keessaatti, iddoo waaqni tolfamaan hinaaffaaf nama
kakaasu sun dhaabatee jiruutti na geesse. 4 Ulfinni Waaqa Israa'el kan ani mul'ataan
dirree keessatti argee ture sun achittis fuula koo dura ture.
5 Innis, "Yaa ilma namaa, gara kaabaa ilaali" naan jedhe; anis mil'adhee karaa
karra balbala kaabaa kan iddoo aarsaatiin waaqa tolfamaa kan hinaaffaa sana nan
arge.
6 Innis akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, wantoota akka malee jibbisiisoo
kanneen akka ani iddoo qulqulluu koo irraa fagaadhu na godhan kan manni Israa'el
asitti gochaa jiru kana ni argitaa? Ati garuu waan waan kana caalaa jibbisiisaa ta'e
iyyuu ni argita."
7 Ergasii inni gara karra oobdiitti na fide. Anis mil'adhee qaawwa keenyan manaa
nan arge. 8 Innis, "Yaa ilma namaa, keenyan manaa uri" naan jedhe. Kanaafuu ani
keenyan manaa sana uree balbala tokko achitti nan arge.
9 Innis, "Ol seeniitii waan hamaa fi jibbisiisaa isaan asitti hojjechaa jiran kana
ilaali" naan jedhe. 10 Anis ol seeneen ilaale; kunoo ani gosa uumamawwan lafa
irra loo'anii hunda, bineensota jibbisiisoo hundaa fi waaqota tolfamoo mana Israa'el
hunda keenyan manaa hunda irratti fakkeeffamanii nan arge. 11 Fuula isaanii duras
maanguddoonni mana Israa'el torbaatamni dhadhaabatanii turan; Yaazaniyaan ilmi
Shaafaan immoo gidduu isaanii dhaabatee ture. Tokkoon tokkoon isaaniis harka
isaaniitti girgiraa qabatanii turan; duumessi aara ixaanaa urgaa'aanis ol ba'a ture.
12 Innis, "Yaa ilma namaa, waan maanguddoonni mana Israa'el tokkoon tokkoon
isaanii galma waaqeffannaa waaqa isaanii tolfamaa sanaa keessatti dukkana keessa
hojjetan argiteertaa? Isaan, 'WAAQAYYO nu hin argu; WAAQAYYO biyyattii dhiiseera'
jedhan." 13 Ammas inni, "Ati wantoota kana caalaa jibbisiisoo ta'an kan isaan
hojjetan iyyuu ni argita" jedhe.
14 Ergasii gara karra balbala kaabaa kan mana WAAQAYYOOTTI na fide; achittis
dubartoota tataa'anii waaqa tolfamaa Tamuuz jedhamuuf boo'aa jiran nan arge.
15 Innis, "Yaa ilma namaa, kana argitaa? Ati wantoota kana caalaa jibbisiisoo ta'ani
iyyuu ni argita" naan jedhe.
16 Ergasii immoo gara oobdii mana WAAQAYYOO isa gara keessaatti na fide; achis
balbala mana qulqullummaa dura gardaafoo fi iddoo aarsaa gidduu namoota gara
digdamii shaniitu ture. Isaanis dugda isaanii mana qulqullummaa WAAQAYYOOTTI,
fuula isaanii immoo gara ba'a biiftuutti deebifatanii, gara ba'aatti garagalanii aduuf
sagadaa turan.
17 Innis akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, ati waan kana argitaa? Wantoota
jibbisiisoo kanneen asitti hojjechuun isaanii mana Yihuudaatiif laayyoodhaa? Isaan
gooliidhaan biyyattii guutanii yeroo hunda aariif na kakaasuu qabuu? Kunoo isaan
funyaan isaaniitti damee kaa'ataniiru! 18 Kanaafuu ani dheekkamsaan isaanitti nan
dhufa; ija gara laafinaatiinis isaan hin ilaalu yookaan isaan hin baasu. Isaan gurra
kootti iyyan iyyuu, ani isaan hin dhaga'u."

# 9

*Waaqeffattoonni waaqota tolfamoo Ajjeefamuu Isaanii*

1 Ergasis ani isaa, "Warra tokkoon tokkoon isaanii mi'a lolaa harkatti qabatanii
magaalattii balleessan as dhi'eessi" jedhee gurra kootti iyyu nan dhaga'e. 2 Anis utuu
namoonni ja'a kallattii karra ol aanuu kan gara kaabaa ilaaluun tokkoon tokkoon
isaanii meeshaa nama ajjeesu harkatti qabatanii dhufaa jiranuu nan arge. Isaan
wajjinis nama uffata quncee talbaa irraa hojjetame uffate kan mudhii isaatti korojoo
katabbii hidhate tokkotu ture. Isaanis ol seenanii iddoo aarsaa naasii bira dhaabatan.

[3] Ulfinni Waaqa Israa'elis iddoo irra bu'ee ture kiirubeelii irraa ka'ee gara gulantaa
mana qulqullummaatti qajeele. Ergasiis WAAQAYYO namicha wayyaa quncee talbaa
irraa tolfame uffatee mudhii isaatti korojoo katabbii hidhate sana waame; [4] innis
akkana jedheen; "Guutummaa magaalaa Yerusaalem keessa deemiitii adda namoota
sababii wantoota jibbisiisoo ishee keessatti hojjetaman hundaatiif gaddanii boo'an
irratti mallattoo godhi."
[5] Inni utuma ani dhaga'uu warra kaaniin akkana jedhe; "Magaalattii keessa
isa faana deemaatii utuu garaa hin laafin yookaan utuu hin mararfatin ajjeesaa.
[6] Jaarsota, dargaggeeyyii, shamarran, dubartootaa fi ijoollee ajjeesaa; nama mallattoo
qabu kam iyyuu garuu hin tuqinaa. Iddoo qulqullummaa koo irraa jalqabaa."
Kanaafuu isaan jaarsota fuula mana qulqullummaa dura jiran irraa jalqaban.
[7] Innis, "Mana qulqullummaa xureessaa; waltajjichas reeffaan guutaa. Itti ba'aa!"
jedheen. Kanaafuu isaan gad ba'anii magaalattii guutuu keessatti ajjeesuu jalqaban.
[8] Utuu isaan ajjeesaa jiranii, ani kophaa koo hafee addaan lafatti gombifamee, "Ani
bade yaa WAAQAYYO Gooftaa! Ati dheekkamsa kee Yerusaalem irratti roobsuudhaan
hambaawwan Israa'el hunda balleessuuf jirtaa?" jedheen iyye.
[9] Innis akkana jedhee naaf deebise; "Cubbuun mana Israa'elii fi Yihuudaa
akka malee guddaa dha; biyyattiin dhiiga dhangalaasuudhaan, magaalaan immoo
jal'inaan guutamteerti. Isaan, 'WAAQAYYO biyyattii gateera; WAAQAYYO hin argu'
jedhu. [10] Kanaafuu ani ija gara laafinaatiin isaan hin ilaalu yookaan hin hiluufis;
garuu ani waanuma isaan hojjetan mataa isaaniitti nan fida."
[11] Ergasii namichi uffata quncee talbaa irraa hojjetame uffatee korojoo katabbii
mudhii isaatti hidhate sun deebi'ee dhufee, "Ani akkuma ati na ajajje sana godheera"
jedhe.

# 10

*Ulfinni Waaqaa Mana Qulqullummaa Dhiisee Deeme*

[1] Anis mil'adhee bantii samii gubbaatti mataa kiirubeeliitiin olitti fakkaattii teessoo
sanpeer tokko nan arge. [2] WAAQAYYOS namicha wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame
uffate sanaan akkana jedhe; "Geengoowwan kiirubeelii jalaan jiran gidduu seeni.
Barbadaa cilee boba'uu kan kiirubeelii gidduu jiru sana irraa harka kee guuttadhuutii
magaalattii keessa faffacaasi." Innis utuma ani ilaaluu ol seene.
[3] Yeroo namichi ol seenetti kiirubeeliin karaa kibba mana qulqullummaatiin
dhaabatanii turan; duumessi oobdii gara keessaa guutee ture. [4] Ulfinni WAAQAYYOOS
kiirubeelii irraa ka'ee gara gulantaa mana qulqullummaatti qajeele. Duumessis mana
qulqullummaa guute; waltajjichis ifa ulfina WAAQAYYOOTIIN guutame. [5] Sagaleen
qoochoowwan kiirubeelii hamma oobdii gara alaatti akkuma sagalee yeroo Waaqni
Waan Hunda Danda'u dubbatu dhaga'amu sanaa fagootti dhaga'ama ture.
[6] Yeroo WAAQAYYO namicha wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame uffatu sanaan,
"Geengoowwan gidduudhaa, kiirubeelii gidduudhaas ibidda fudhi" jedhee ajajetti
namichi ol seenee geengoo bira dhaabate. [7] Ergasii kiirubeelii keessaa inni tokko
harka isaa gara ibidda isaan gidduu jiruutti hiixate. Innis ibidda sana irraa xinnoo
fuudhee harka namicha wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame uffate sanaa keessa
kaa'e; namichis ibidda sana fudhatee ba'e. [8] Qoochoowwan kiirubeelii jalaanis wanni
harka namaa fakkaatu tokko ni mul'ata ture.
[9] Anis mil'adhee geengoowwan afur kiirubeelii biratti nan arge; geengoowwan
sunis tokkoo tokkoo kiirubeelii bira turan; geengoowwan sunis akka biiralee
calaqqisu turan. [10] Bifti afranuu wal fakkaata ture; tokkoon tokkoon geengoo
sanaa geengoo kaanitti waan dirame fakkaata ture. [11] Isaanis yommuu deemanitti
utuu of irra hin mil'atin kallattii afran kiirubeeliin itti gara galan kamiin iyyuu

deeman; geengoowwanis yeroo kiirubeeliin deemanitti asii fi achi hin socho'an
ture. Kiirubeeliin qixa mataan isaanii itti gara gale kamiin iyyuu utuu of irra hin
mil'atin deeman. 12 Dhagni isaanii guutuun, dugda isaanii, harka isaaniitii fi qoochoo
isaanii dabalatee akkuma geengoowwan isaanii afran sanaatti akkuma jiraniin ijaan
guutamanii turan. 13 Geengoowwan sunis utuma ani dhaga'uu, "Geengoowwan
konkolaatan" jedhamanii waamaman. 14 Tokkoon tokkoon kiirubeelii fuula afur afur
qabu ture: fuulli tokkoffaan fuula kiirubeelii, fuulli lammaffaan fuula namaa, fuulli
sadaffaan fuula leencaa, fuulli afuraffaan immoo fuula risaa ture.
15 Ergasiis kiirubeeliin ol ba'an; isaan kunneen uumamawwan jiraatoo ani Laga
Kebaar biratti argee ture sanaa dha. 16 Yeroo kiirubeeliin deemanitti geengoowwan
isaan cina jiranis ni deeman; yeroo kiirubeeliin lafa irraa ol ka'uuf qoochoowwan
isaanii diriirfatanitti geengoowwanis isaan biraa hin hafan ture. 17 Yeroo kiirubeeliin
dhaabatanitti isaanis ni dhaabatu turan; yeroo kiirubeeliin ol ka'anittis isaanuma
wajjin ol ka'u turan; hafuurri uumamawwan jiraatoo sanaa isaan keessa tureetii.
18 Ergasiis ulfinni WAAQAYYOO gulantaa mana qulqullummaa irraa ka'ee kiirubeelii
gubbaadhaan dhaabate. 19 Kiirubeeliin utuma ani arguu qoochoowwan isaanii
diriirffatanii lafaa ol ka'an; yeroo isaan deemanittis geengoowwan isaan wajjin
deeman. Isaan karra balbala mana WAAQAYYOO kan karaa ba'aa irra dhaabatan;
ulfinni Waaqa Israa'elis isaan gubbaadhaan ture.
20 Isaan kunneen uumamawwan jiraatoo ani Laga Kebaar biratti Waaqa Israa'el
jalatti argee turee dha; anis akka isaan kiirubeelii ta'an nan hubadhe. 21 Tokkoon
tokkoon isaanii fuula afur afurii fi qoochoowwan afur afur, qoochoowwan isaanii
jalaan immoo waan harka namaa fakkaatu qabu ture. 22 Bifti fuula isaaniis akkuma
bifa uumamawwan jiraatoo ani Laga Kebaar biratti arge sanaa ture. Tokkoon tokkoon
isaanii qajeelanii fuula duratti deeman.

# 11

*Murtii Yerusaalemin Eeggatu*

1 Hafuurri ol na fuudhee gara balbala mana WAAQAYYOO kan gara ba'aa ilaaluutti
na fide. Achis karra balbala sanaa dura namoota digdamii shantu ture; anis isaan
gidduutti hooggantoota sabaa Yaazaniyaa ilma Azurii fi Phelaatiyaa ilma Benaayaa
nan arge. 2 WAAQAYYOS akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, isaan kunneen namoota
magaalaa kana keessatti hammina malanii fi gorsa hamaa gorsanii dha. 3 Isaanis,
'Yeroon itti manneen ijaaraman ga'eera mitii? Magaalattiin kun okkotee waa itti
affeelanii dha; nu immoo ishee keessatti foon' jedhan. 4 Kanaafuu isaanitti raajii
dubbadhu; yaa ilma namaa raajii dubbadhu."
5 Ergasii Hafuurri WAAQAYYOO narra bu'ee akkana naan jedhe; "WAAQAYYO akkana
jedha: Yaa mana Israa'el isin akkas jettu; ani garuu waan isin qalbii keessanitti
yaaddan nan beeka. 6 Isin magaalaa kana keessatti namoota hedduu ajjeeftanii
daandii ishee reeffaan guuttaniirtu.
7 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Reeffi isin achitti gattan foon;
magaalaan kun immoo okkotee dha; ani garuu magaalaa kana keessaa isinan baasa.
8 Isin goraadee sodaattu; wanni ani isinitti fidu immoo goraadeedha, jedha WAAQAYYO
Gooftaan. 9 Ani magaalaa keessaa isin baasee alagaatti dabarsee isin kennee isinan
adaba. 10 Isin goraadeedhaan dhumtu; anis daangaa Israa'el irratti isinitti mura.
Kanaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu. 11 Magaalaan kun okkotee isinii hin
taatu yookaan isin achi keessatti foon hin taatan; anis daangaa Israa'el irratti isinitti
nan mura. 12 Isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu; sirna saboota naannoo keessan
jiraatanii duukaa buutan malee seera koo hin eegne yookaan naamusa koo hin
eegneetii."

13 Utuma ani raajii dubbachaa jiruu Phelaatiyaan ilmi Benaayaa du’e. Kana irratti
ani addaan lafatti gombifamee, “Ani bade yaa WAAQAYYO Gooftaa! Ati hambaa
Israa’el guutumaan guutuutti balleessitaa?” jedheen sagalee guddaadhaan iyye.

### *Abdii Deebi’uu Israa’el*

14 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 15 “Yaa ilma namaa,
obboloota kee jechuunis obboloota kee kanneen firoota kee dhiigaatii fi manni Israa’el
guutuun kanneen namoonni Yerusaalem, ‘Isaan WAAQAYYO irraa fagaataniiru; biyyi
kunis akka handhuuraatti nuuf kennamteerti’ jedhaniinii dha.
16 “Kanaafuu akkana jedhi: ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani saboota
gidduutti fageessee isaan ergee biyyoota keessa isaan faffacaasu iyyuu, amma illee
yeroo xinnoof biyyoota isaan dhaqan keessatti isaaniif iddoo qulqullummaa ta’eera.’
17 “Kanaafuu akkana jedhi: ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani saboota
keessaa walitti isin qabee biyyoota itti bittinnooftan keessaa deebisee isin nan fida;
biyya Israa’elis deebisee isiniif nan kenna.’
18 “Isaan biyyattiitti deebi’anii wantoota ishee jibbisiisoo hundaa fi wantoota ishee
balfamoo hunda ishee keessaa ni balleessu. 19 Ani garaa gargar hin qoodamne
isaaniif nan kenna; hafuura haaraas isaan keessa nan kaa’a; garaa isaanii isa dhagaa
isaan keessaa baasee garaa foonii nan kennaaf. 20 Isaanis sirna koo duukaa bu’u;
seera kootiifis ni ajajamu. Isaan saba koo ni ta’u; anis Waaqa isaanii nan ta’a.
21 Warra qalbiin isaanii fakkiiwwan isaanii kanneen faayidaa hin qabnee fi waaqota
isaanii tolfamoo jibbisiisoo sanaan fudhatame garuu ani waan isaan hojjetan matuma
isaaniitti nan deebisa jedha WAAQAYYO Gooftaan.”
22 Ergasiis kiirubeeliin qoochoowwan isaanii diriirfatan; geengoowwanis isaan cina
turan; ulfinni Waaqa Israa’el immoo isaan gubbaadhaan ture. 23 Ulfinni WAAQAYYOOS
magaalaa keessaa ol ba’ee tulluu ba’a magaalattiitiin jiru gubbaadhaan dhaabate.
24 Hafuurri ol na fuudhee mul’ata Hafuura Waaqaatiin gara booji’amtoota biyya
Baabilon jiraniitti na fide.
Ergasiis mul’anni ani argee ture sun na dhiisee ol ba’e; 25 anis waan WAAQAYYO na
argisiise hunda booji’amtootatti nan hime.

# 12

### *Fakkeennoo Booji’amuu*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa,
ati uummata fincilaa gidduu jiraatta. Isaan arguudhaaf ija qabu; garuu hin argan;
dhaga’uudhaafis gurra qabu; garuu hin dhaga’an; isaan uummata fincilaadhaatii.
3 “Kanaafuu yaa ilma namaa, utuma isaan arganuu guyyaa adiidhaan waan qabdu
qopheeffadhuutii booji’amuuf iddoo jirtuu ba’iitii iddoo biraa deemi. Isaan mana
fincilaa ta’ani iyyuu tarii ni hubatu ta’a. 4 Mi’a kee kan booji’amuuf qopheeffatte sana
utuma isaan arganuu guyyaa adiidhaan baafadhu. Utuma isaan arganuus galgalaan
akkuma warra booji’amuuf deemaniitti ba’ii deemi. 5 Utuma isaan arganuus dallaa
uriitii mi’a kee achi keessaan baafadhu. 6 Utuma isaan arganuus dimimmisa galgalaa
keessa mi’a sana ol fuudhii gatiittii keetti baadhuu ba’i. Ati akka biyyattii hin argineef
fuula kee haguuggadhu; ani mana Israa’eliif mallattoo si godheeraatii.”
7 Anis akkuman ajajame nan godhe. Mi’a koos boojuuf qopheeffadhee guyyaa
adiidhaan baafadhe. Galgalaanis dallaa sana harkuma kootiin nan ure. Utuma isaan
arganuus mi’a koo gatiittii irratti baadhadhee dimimmisaan nan ba’e.
8 Guyyaa itti aanu ganamas dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe:
9 “Yaa ilma namaa, manni Israa’el fincilaan sun, ‘Ati maal gochaa jirta?’ jedhee si
hin gaafannee?

10 “Akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Raajiin kun waa’ee
ilma mootii isa Yerusaalem keessa jiraatuu fi guutummaa mana Israa’el kan achi
jiraatuu ti.’ 11 Atis, ‘Ani mallattoo keessan’ isaaniin jedhi.
“Wanni ani hojjedhe sun isaan irra ni ga’a. Isaan booji’amanii ni fudhatamu.
12 “Ilmi mootii inni gidduu isaanii jiraatu mi’a isaa gatiittii isaatti baadhatee
dimimmisaan ni deema; akka inni keessaan ba’uuf dallaan ni uramaaf. Akka biyyattii
hin argineefis fuula isaa ni haguuggata. 13 Ani kiyyoo koo nan diriirsaaf; innis kiyyoo
kootiin ni qabama; ani gara Baabilon, biyya Kaldootaatti isa nan geessa; inni garuu
biyyattii hin argu; achittis ni du’a. 14 Ani warra isa wajjin jiran hunda gargaartota
isaatii fi loltoota isaa hunda bubbeetti nan bittinneessa; goraadee luqqifameenis isaan
nan ari’a.
15 “Isaan yommuu ani saboota gidduutti isaan bittinneessee biyyoota keessa isaan
faffacaasutti, akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku. 16 Ani garuu akka isaan saboota
itti geeffaman sana keessatti gochawwan isaanii jibbisiisoo hunda himataniif isaan
keessaa namoota muraasa goraadee irraa, beelaa fi dha’icha irraa nan hambisa.
Isaanis akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.”
17 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 18 “Yaa ilma namaa,
raafamuudhaan nyaata kee nyaadhu; sodaadhaan hollachaa bishaan kee dhugi.
19 Saboota biyyattiitiin akkana jedhi: ‘WAAQAYYO Gooftaan waa’ee warra Yerusaalem
keessaa fi biyya Israa’el keessa jiraatanii akkana jedha: Sababii jeequmsa namoota
achi jiraatan hundaatiif biyyattiin waan ontuuf isaan nyaata isaanii dhiphinaan
nyaatu; bishaan isaanii immoo sodaadhaan dhugu. 20 Magaalaawwan namoonni
keessa jiraatan ni barbadaa’u; biyyattiin immoo ni onti. Sana booddee isin akka
ani WAAQAYYO ta’e ni beektu.’ ”
21 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 22 “Yaa ilma
namaa, fakkeenyi isin biyya Israa’el keessatti, ‘Barri dheerateera; mul’annis faayidaa
dhabeera’ jettan kun maali? 23 Akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana
jedha: Ani fakkeenya kana nan balleessa; isaan si’achi Israa’el keessatti itti hin
fayyadaman.’ Atis, ‘Barri itti mul’anni hundi fiixaan ba’u dhi’aateera, isaaniin
jedhi. 24 Si’achi mul’anni sobaa yookaan raajiin sobaa uummata Israa’el keessa hin
jiraatuutii. 25 Ani WAAQAYYO garuu waanan fedhe nan dubbadha; dubbiin sunis utuu
hin turin ni raawwatama. Isin yaa mana fincilaa nana, ani waanan dubbadhu hunda
bara keessan keessa nan raawwadha, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”
26 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 27 “Yaa ilma namaa,
manni Israa’el, ‘Mul’anni inni argu waan bara dheeraa booddee raawwatamuu dha;
wanni inni raajus waan bara fagootti guutamuu dha.’
28 “Kanaafuu ati akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Si’achi
dubbiin koo tokko iyyuu lafa irra hin harkifatu; wanni ani jedhu kam iyyuu ni
raawwatama, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

# 13

*Raajonni Sobaa Balaaleffataman*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa,
raajota Israa’el kanneen amma raajii dubbachaa jiraniin mormuudhaan raaji.
Warra yaaduma ofii isaanii raajaniin akkana jedhi: ‘Dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa!
3 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Raajota gowwaa kanneen utuu homaa hin argin
hafuura ofii isaanii duukaa bu’an sanaaf wayyoo! 4 Yaa Israa’el, raajonni kee akkuma
waangota waan diigame gidduu jiraatanii ti. 5 Isin akka dallaan sun guyyaa waraana
WAAQAYYOOTTI jabaatee dhaabatuuf dallaa cabe sana mana Israa’eliif deebiftanii
ijaaruudhaaf jettanii ol hin baane. 6 Mul’anni isaanii soba; raajiin isaanii soba.

Isaan utuu Waaqayyo isaan hin ergin, “Waaqayyo akkana jedha” jedhu; ta’us isaan
akka dubbiin isaanii raawwatamu eeggatu. 7 Ani dubbachuu baadhu iyyuu isin,
“Waaqayyo akkana jedha” jechuun keessan mul’ata sobaa arguu keessanii fi raajii
sobaa dubbachuu keessan mitii?
8 “ ‘Kanaafuu Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Sababii dubbii sobaa keessaniitii
fi mul’ata sobaa keessaniitiif ani isinitti ka’a, jedha Waaqayyo Gooftaan. 9 Harki
koo raajota mul’ata sobaa arganii raajii sobaa dubbatanitti ni ka’a. Isaan miseensa
waldaa saba kootii hin ta’an yookaan galmee mana Israa’el irratti hin galmeeffaman
yookaan biyya Israa’el hin seenan. Ergasii isin akka ani Waaqayyo Gooftaa ta’e ni
beektu.
10 “ ‘Isaan yeroo nagaan hin jirretti, “Nagaa dha” jechaa saba koo karaa irraa waan
jal’isanii yeroo namoonni dallaa dhagaa ijaaranitti nooraa dibaniif, 11 ati akka dallaan
sun jigu warra nooraa itti diban sanatti himi. Bokkaan hamaan ni rooba; dhagaan
cabbii ni bu’a; bubbeen jabaan ni bubbisa. 12 Yeroo dallaan sun jigutti namoonni,
“Nooraan isin itti dibdan sun eessa jira” jedhanii isin hin gaafatanii?
13 “ ‘Kanaafuu Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Ani dheekkamsa kootiin bubbee
hamaa nan kaasa; aarii kootiinis dhagaa cabbii fi bokkaa hamaan badiisa fidu
ni rooba. 14 Ani akka hundeen isaa qullaatti hafuuf dhagaa isin nooraa dibdan
sana diigee lafaan wal nan qixxeessa. Yommuu inni jigutti isin isa keessatti ni
barbadeeffamtu; akka ani Waaqayyo ta’es ni beektu. 15 Dallaa sanaa fi warra nooraa
itti dibanitti dheekkamsa koo nan roobsa. Anis akkana isiniin nan jedha; “Dallaan
sunii fi warri dallaa sana nooraa diban sun ni badu; 16 raajonni Israa’el kanneen
Yerusaalemiif raajanii utuu nagaan hin jiraatin mul’ata nagaa isheef argan sunis ni
badu, jedha Waaqayyo Gooftaan.” ’
17 “Ammas yaa ilma namaa, fuula kee gara intallan saba keetii kanneen waanuma
ofii yaadan raajaniitti deebifadhuutii isaaniin mormuudhaan raaji; 18 akkanas
jedhi; ‘Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Dubartoota kiyyoo keessa nama galchuuf
jedhanii many’ee harka isaanii hundaaf kudhaama hodhatanii haguuggii garaa
garaa mataa isaaniitti haguuggataniif wayyoo. Isin lubbuu saba koo kiyyoo keessa
galchitanii kan ofii keessanii immoo oolfattuu? 19 Isin garbuu konyee tokkoo
fi buddeena cabaa tokkoof jettanii uummata koo gidduutti na xureessitaniirtu.
Uummata koo isa soba keessan dhaga’uttis sobuudhaan warra du’uu hin qabne
ajjeeftanii warra jiraachuu hin qabne immoo baraartaniirtu.
20 “ ‘Kanaafuu Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Kunoo, ani kudhaama keessan
kan isin akkuma simbira kiyyeeffamtuutti uummata ittiin kiyyeessitanitti nan ka’a;
harka keessan irraas nan cira; uummata isin akkuma simbirri kiyyeeffamtutti
kiyyeessitan sanas kiyyoo keessaa nan baasa. 21 Ani haguuggii keessan tarsaasee saba
koo harka keessan keessaa nan baasa; isaan si’achi harka keessan jalatti hin bulan.
Ergasii isin akka ani Waaqayyo ta’e ni beektu. 22 Ani isa dirqisiisuu baadhu iyyuu
isin waan soba keessaniin nama qajeelaa dirqisiiftanii fi waan akka namni hamaan
karaa isaa hamaa sana irraa deebi’ee lubbuu isaa oolfatuuf hin jajjabeessiniif, 23 isin
si’achi mul’ata sobaa hin argitan yookaan raajii sobaa hin dubbattan. Anis saba koo
harka keessan keessaa nan baasa. Ergasiis isin akka ani Waaqayyo ta’e ni beektu.’ ”

# 14

*Warri Waaqa Tolfamaa waaqeffatan Balaaleffatamuu Isaanii*

1 Maanguddoota Israa’elii keessaa tokko tokko na bira dhufanii fuula koo dura
tataa’an. 2 Ergasii dubbiin Waaqayyoo akkana jedhee gara koo dhufe; 3 “Yaa ilma
namaa, namoonni kunneen waaqota tolfamoo garaa isaanii keessa dhaabbataniiru;
fuula isaanii dura immoo dhagaa hamaa nama gufachiisu kaa’aniiru. Ani akka

isaan na kadhatan eeyyamuufiin qabaa? 4 Kanaafuu akkana jedhii isaanitti himi;
'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yommuu namni Israa'elii kam iyyuu garaa isaa
keessa Waaqa tolfamaa dhaabbatee dhagaa hamaa nama gufachiisu immoo fuula
isaa dura kaa'atee raajii bira dhaqutti, ani WAAQAYYO akkuma baay'ina waaqota isaa
tolfamoo sanaatti nan deebisaaf. 5 Ani qalbii saba Israa'el kanneen waaqota isaanii
tolfamoof jedhanii na dhiisan sana hundaa deebisuuf waan kana nan godha.'

6 "Kanaafuu mana Israa'eliin akkana jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
qalbii jijjiirradhaa! Waaqota keessan tolfamoo irraa deebi'aa; hojii keessan jibbisiisaa
hundas dhiisaa!

7 " 'Yommuu namni Israa'el kam iyyuu yookaan alagaan Israa'el keessa jiraatu kam
iyyuu na dhiisee garaa isaa keessa waaqota tolfamoo dhaabbatee fuula isaa dura
immoo dhagaa hamaa nama gufachiisu kaa'atee waan ani jedhu gaafachuuf raajii
bira dhaqutti, ani WAAQAYYO mataan koo deebii nan kennaaf. 8 Ani namicha sana
miidhuuf fuula koo isatti garagalfadhee fakkeenya waan kolfaa isa nan godha. Saba
koo irraas isa nan kuta. Ergasii isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.

9 " 'Raajichi yoo raajii dubbachuuf gowwoomfame, ani WAAQAYYO raajii sana nan
gowwoomsa; harka koos isatti kaafadhee saba koo Israa'el gidduudhaa isa nan
balleessa. 10 Isaan yakka isaanii ni baadhatu; raajiin sunis akkuma nama gorsa
isa gaafate sanaa yakkamaa ta'a. 11 Kunis akka sabni Israa'el si'achi narraa goree
yookaan deebi'ee cubbuu isaa hundaan of hin xureessineef. Isaan saba koo ni ta'u;
anis Waaqa isaanii nan ta'a, jedha WAAQAYYO Gooftaan.' "

### *Murtii Namni Jalaa Hin baane*

12 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 13 "Yaa ilma namaa,
yoo biyyi tokko amanamuu diduudhaan cubbuu natti hojjette ani harka koo isheetti
kaasee madda nyaata ishee nan gogsa; beelas itti ergee namoota isheetii fi horii ishee
jalaa nan fixa; 14 yoo namoonni sadan kunneen jechuunis Nohi, Daani'elii fi Iyyoob
biyya sana keessa jiraatani iyyuu isaan qajeelummaa isaaniitiin mataa ofii isaanii
qofa oolfatu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.

15 "Yookaan yoo ani guutummaa biyya sanaatti bineensa ergee bineensi sun
immoo biyya sana ijoollee malee hambise, yoo hamma namni tokko iyyuu sababii
bineensa sanaatiif achiin darbuu dadhabutti biyyi sun one, 16 ani jiraataadhaatii,
jedha WAAQAYYO Gooftaan; yoo namoonni kunneen biyya sana keessa jiraatani iyyuu
isaan ilmaan yookaan intallan ofii isaanii oolfachuu hin danda'an. Isaanuma qofatu
oolfama; biyyi sun garuu ni onti.

17 "Yookaan yoo ani goraadee biyyattiitti fidee, 'Goraadeen biyyattii keessa haa
darbu' jedhee namaa fi horii ishee fixe, 18 ani jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO
Gooftaan; yoo namoonni kunneen biyya sana keessa jiraatani iyyuu isaan ilmaan
yookaan intallan ofii isaanii oolfachuu hin danda'an. Isaanuma qofatu oolfama.

19 "Yookaan yoo ani biyya sanatti dha'icha ergee namaa fi horii ishee fixee dhiiga
lolaasuudhaan dheekkamsa koo itti roobse, 20 ani jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO
Gooftaan; yoo Nohi, Daani'elii fi Iyyoob biyya sana keessa jiraatani iyyuu isaan
ilmaan yookaan intallan ofii isaanii oolfachuu hin danda'an. Isaan qajeelummaa
isaaniitiin mataa ofii isaanii qofa oolfatu.

21 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii: Yeroo ani namaa fi horii ishee fixuuf
murtiiwwan hadhaa'aa afran sana jechuunis goraadee fi beela, bineensaa fi dha'icha
Yerusaalemitti ergutti hammam wanni hamaan haa ta'u ree! 22 Ta'us ilmaanii fi
intallan isaanii kanneen ishee keessaa baafamanii baraaraman muraasni achi ni
jiraatu. Isaanis gara keessan ni dhufu; isin immoo yeroo amala isaaniitii fi gocha
isaanii argitanitti sababii ani Yerusaalemitti badiisa fideef jechuunis badiisa ani
isheetti fide hundaaf ni jajjabaattu. 23 Isin yeroo amala isaaniitii fi gocha isaanii

argitanitti akka ani sababii malee homaa ishee keessatti hin godhin waan beektaniif
ni jajjabaattu, jedha WAAQAYYO Gooftaan."

# 15

*Yerusaalem Wayinii Faayidaa Hin qabne*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
mukni wayinii akkamitti damee muka bosona keessa jiru kamii iyyuu caala? 3 Waan
faayidaa qabu tolfachuuf muka wayinii sana irraa takkumaa mukni fudhatamee
beekaa? Waa isatti fannifachuuf namoonni isa irratti fannoo ni hojjetuu? 4 Inni
erga akkuma qoraan ibiddatti naqamee ibiddi sun fiixee isaa lamaan gubee gidduu
xaphi godhee booddee waan tokkoof iyyuu faayidaa qabaa? 5 Inni utuu hin tuqamin
faayidaa yoo hin qabaatin, erga ibiddaan gubamee xaphi jedhee immoo hammam
faayidaa gad aanaa haa qabaatuu ree?

6 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani akkuma muka wayinii
mukkeen bosonaa gidduu jiru akka inni boba'uuf ibiddatti naqe sana, uummata
Yerusaalem keessa jiraatu illee akkasuma nan godha. 7 Ani hamminaan fuula koo
isaanitti nan deebisa. Isaan ibidda keessaa ba'an iyyuu, ibiddi amma iyyuu isaan
ni balleessa. Yeroo ani hamminaan fuula koo isaanitti deebifadhutti, isin akka ani
WAAQAYYO ta'e ni beektu. 8 Sababii isaan amanamuu didaniif ani biyyattii nan onsa,
jedha WAAQAYYO Gooftaan."

# 16

*Yerusaalem Niitii Ejjituu*

1 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa, hojii
ishee jibbisiisaa sana Yerusaalemitti himi; 3 akkanas jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan
Yerusaalemiin akkana jedha: Sanyii fi dhaloonni kee biyya Kana'aanotaa ti;
abbaan kee nama Amoor; haati kee immoo nama Heet. 4 Ati gaafa dhalatte hin
handhuuramne yookaan akka qulqullooftuuf bishaaniin hin dhiqamne yookaan
soogiddaan hin sukkuumamne yookaan huccuudhaan hin maramne. 5 Namni tokko
iyyuu ija gara laafinaatiin si hin ilaalle yookaan wantoota kanneen siif gochuuf garaa
siif hin laafne. Qooda kanaa ati dirreetti gatamte; ati gaafa dhalatte tuffatamtee
turteetii.

6 " 'Anis utuun achiin darbuu si'ii dhiiga kee keessa ciiftee dhidhiitattu sin arge;
utuma ati achi dhiiga kee keessa ciiftuu ani, "Jiraadhu!" siinan jedhe. 7 Akkuma
biqiltuu dirreettis sin guddise. Atis guddattee jabaattee lula akka malee miidhagu
taate. Ati qullaa fi harka duwwaa turte, guntuta baaftee rifeensi kees guddate.

8 " 'Ani yeroon deebi'ee achiin darbutti si ilaaleen akka ati jaalalaaf geesse sin arge;
handaara wayyaa kootiis sirra buuseen qullummaa kee haguuge. Siif kakadhees si
wajjin waadaa nan gale, jedha WAAQAYYO Gooftaan; atis kan koo taate.

9 " 'Ergasii ani bishaaniin si dhiqee dhiiga sirraa miicee zayitii si dibe. 10 Ani
uffata faayeffame sitti uffisee kophee gogaa irraa hojjetame illee sitti nan kaa'e.
Wayyaa miidhagaa quncee talbaa irraa hojjetame sitti uffisee uffata gatii guddaa
immoo sirra buuse. 11 Ani faayaan si miidhagseera jechuunis irree keetti bitawoo,
morma keetti immoo amartii siif godheera; 12 ani funyaan keetti qubeelaa, gurra
keetti amartii, mataa keetti immoo gonfoo miidhagaa kaa'eera. 13 Atis akkasiin
warqee fi meetiidhaan miidhagfamte; uffanni kees quncee talbaatii fi haarriidhaan
faayeffamee hojjetamee ture; nyaanni kee daakuu bullaa'aa, dammaa fi zayitii
ejersaa ture. Ati akka malee bareeddee mootittii ta'uuf kaate. 14 Waa'ee bareedina

keetiitiifis maqaan kee saboota gidduu tamsa’e; surraan ani siif kenne bareedina kee
kan hanqina hin qabne godheeraatii, jedha Waaqayyo Gooftaan.
15 “ ‘Ati garuu miidhagina kee amanattee maqaa kee sagaagalummaadhaaf itti
fayyadamte. Kara deemaa kam iyyuu wajjin sagaagaltee miidhagina kees kenniteef.
16 Uffata kee keessaas tokko tokko fuutee iddoowwan sagadaa kanneen itti sagaagaltu
sana ittiin miidhagsite. Wanni akkasii takkumaa ta’ee hin beeku; fuuldurattis
hin ta’u. 17 Faayawwan miidhagoo ani siif kenne kan warqee fi meetii koo irraa
hojjetaman fudhattee korommii waaqota tolfamoo ofii keetiif hojjetattee isaan wajjin
sagaagalte. 18 Uffata kee kan faayeffamee hojjetames isaanitti uffistee, zayitii fi ixaana
koos fuula isaanii duratti dhi’eessite. 19 Nyaata ani siif kenne jechuunis daakuu
bullaa’aa, zayitii ejersaatii fi damma ani akka ati nyaattuuf siif kenne sana akka
ixaana urgaa gaarii qabuutti fuula isaanii duratti dhi’eessite. Wanni akkasii ta’eera,
jedha Waaqayyo Gooftaan.
20 “ ‘Ati ilmaanii fi intallan kee kanneen naaf deesse fuutee akka isaan nyaata
waaqota tolfamoo ta’aniif aarsaa gootee dhi’eessite. Sagaagalummaan kee hin
ga’u turee? 21 Ati ijoollee koo qaltee waaqota tolfamoof aarsaa goote. 22 Ati
hojii kee jibbisiisaa fi sagaagalummaa hojjete hundaan baroota ijoollummaa keetii,
yeroo qullaa fi miilla duwwaa, yeroo dhiiga kee keessa gangalachaa turte sana hin
yaadanne.
23 “ ‘Wayyoo! Siif wayyoo, jedha Waaqayyo Gooftaan. Jal’ina kee kaan hunda
irratti immoo, 24 ofii keetiif waltajjii qopheeffatte; oobdiiwwan uummataa hundatti
galma waaqeffannaa ol dheeraa hojjette. 25 Fiixee daandii hundaatti gaarran sagadaa
kee ol dhedheeroo ijaarratte; nama achiin darbu hundaaf dhagna kee dhi’eessitee
sagaagalummaa kee baay’isuudhaan miidhagina kee busheessite. 26 Ati warra Gibxi,
olloota kee kanneen dhagna guddaa qaban wajjin sagaagaltee sagaagalummaa kee
kan hamma hin qabne sanaan dheekkamsaaf na kakaafte. 27 Kanaafuu ani harka koo
sitti kaasee qooda kee sirraa nan hir’ise; ani intallan Filisxeemotaa warra diinota kee
ta’an kanneen amala sagaagalummaa kee saalfatanitti dabarsee si kenneera. 28 Ati
sababii dharraa hin ba’iniif warra Asoor wajjinis akkasuma sagaagalte; ati amma illee
dharraa hin baane. 29 Ergasiis itti fuftee daldaltoota biyya Baabilon wajjin sagaagalte;
garuu kanaan iyyuu dharraa hin baane.
30 “ ‘Ati akka sagaagaltuu hin saalfanne tokkootti waan kana hunda gochuun kee
yaada dadhabaa akkamii qabaatteeti! jedha Waaqayyo Gooftaan. 31 Ati yeroo
fiixee daandii hundaatti waltajjii tolfattee oobdii uummataa hunda irratti iddoowwan
sagadaa keetii ol dhedheeroo ijaarrattetti, ati sababii gatii hin baasisiniif akka
sagaagaltuu tokkoo hin turre.
32 “ ‘Yaa niitii sagaagaltuu nana! Ati qooda dhirsa keetii kara deemaa filatta!
33 Sagaagaltuun kam iyyuu gatii fudhatti; ati garuu michoota kee hundaaf kennaa
kennita; akka isaan iddoo kamii iyyuu gara kee dhufanii si wajjin sagaagalaniif jettee
matta’aa kennitaaf. 34 Kanaafuu sagaagalummaan kee kan warra kaaniitiin adda;
namni kam iyyuu si argachuuf si faana hin bu’u. Ati gatii kennita malee waan gatiin
siif hin kennamneef ati kan addaa ti.
35 “ ‘Kanaafuu yaa sagaagaltuu nana, dubbii Waaqayyoo dhaga’i! 36 Waaqayyo
Gooftaan akkana jedha: Sababii ati qabeenya kee dhangalaaftee michoota kee
wajjin sagaagalummaa baay’isuudhaan qullaa kee dhaabatteef, sababii waaqota
kee jibbisiisoo hundaatii fi sababii dhiiga ijoollee keetii isaaniif kenniteef, 37 ani
michoota kee kanneen ati isaan wajjin bashannante jechuunis warra ati jaallattus
warra ati jibbitus walitti nan qaba. Ani iddoo hundaatii isaaniin sitti waamee
fuula isaanii duratti qullaa sin dhaaba; isaanis qullaa kee hunda ni argu. 38 Ani
adabbii dubartoota sagaagalaniitii fi dhiiga namaa dhangalaasaniif malu sitti nan

murteessa; dheekkamsa koo fi hinaaffaa kootiinis dhiiga kee nan dhangalaasa.
39 Ergasii ani harka michoota keetiitti dabarsee sin kenna; isaanis waltajjii kee ni
diigu; iddoowwan sagadaa keetii ol dhedheeroos ni barbadeessu. Isaan wayyaa kee
sirraa baasanii faaya kee miidhagaa sana illee sirraa fudhatu; qullaa keetii fi harka
duwwaas si hambisu. 40 Isaan jeeqxota sitti kakaasu; jarris dhagaadhaan si tuman;
goraadeedhaanis si kukkutu. 41 Isaan manneen keessan ni gubu; fuula dubartoota
hedduu durattis isin adaban. Ani sagaagaltummaa kee sin dhiisisa; si'achis michoota
keetiif gatii hin kaffaltu. 42 Yoos dheekkamsi koo sirraa qabbanaa'a; hinaaffaan koos
sirraa ni deebi'a; ani nan cal'isa; si'achis hin aaru.

43 " 'Sababii ati bara ijoollummaa keetii yaadachuu dhiiftee wantoota kanneen
hundaan na aarsiteef, ani dhugumaan waan ati hojjette matuma keetti nan deebisa,
jedha Waaqayyo Gooftaan. Ati hojii kee jibbisiisaa kaan hunda irratti wal bira ga'uu
haala hamaadhaan hojjetamu dabalatteerta mitii?

44 " 'Namni mammaaksa mammaaku kam iyyuu, "Intalli akkuma haadhaa ti"
jedhee waa'ee kee mammaaksa kana mammaaka. 45 Ati intala haadha kee kan
dhirsaa fi ijoollee ishee balfite sanaa ti; ati obboleettii obboleettota kee kanneen
dhirsoota isaaniitii fi ijoollee isaanii balfan sanaa ti. Haati kee nama Heeti, abbaan
kee immoo nama Amoor turan. 46 Obboleettiin kee hangafni Samaariyaa ishee
intallan ishee wajjin siin gama kaabaa jiraattu sanaa ti; obboleettiin kee quxisuun
Sodoom ishee intallan ishee wajjin siin gama kibbaa jiraattuu ti. 47 Ati karaa isaanii
duukaa buutee hojiiwwan isaanii jibbisiisoo sana hojjechuu qofa utuu hin ta'in
karaa kee hundumaan daftee isaan caalaa amala badde. 48 Ani jiraataadhaatii, jedha
Waaqayyo Gooftaan; obboleettiin kee Sodoomii fi intallan ishee iyyuu takkumaa waan
atii fi intallan kee hojjettan kana hin hojjenne.

49 " 'Egaa cubbuun obboleettii kee Sodoom kana ture: Ishee fi intallan ishee of
tuultotaa fi quufoo turan; yaada malees jiraatan; isaan hiyyeeyyii fi rakkattoota hin
gargaarre. 50 Isaan of tuultota turan; fuula koo duratti waan jibbisiisaa hojjetan.
Kanaafuu ani akkuma isin argitan sana isaan nan balleesse. 51 Samaariyaan cubbuu
ati hojjette sana walakkaa isaa illee hin hojjenne. Ati isaan caalaa waan jibbisiisaa
hojjettee waanuma hojjette kana hundaan obboleettota kee qajeeltota fakkeessite.
52 Ati waan obboleettota keetiif falmii qopheessiteef qaanii kee baadhadhu. Sababii
cubbuun kee cubbuu isaanii caalaa hamaa ta'eef isaan si caalaa qajeeltota fakkaatu.
Kanaafuu qaana'iitii salphina kee baadhadhu; ati akka obboleettonni kee qajeeltota
fakkaatan gooteertaatii.

53 " 'Ta'us ani hambaa Sodoomii fi kan intallan ishee, kan Samaariyaatii fi
kan intallan ishee, kan kees kan isaanii wajjin nan deebisa; 54 kunis akka ati
salphina kee baadhattee waan isaan jajjabeessuuf hojjette sana hundaan qaanoftuuf.
55 Obboleettonni kee Sodoomii fi intallan ishee, Samaariyaa fi intallan ishee akkuma
duraan turanitti ni deebi'u; atii fi intallan kees akkuma duraan turtanitti ni deebitu.
56 Ati bara of tuulaa turte sana keessa obboleettii kee Sodoomiin maqaa iyyuu hin
dhoofne; 57 kunis utuu hamminni kee ifatti hin ba'in ture. Ta'us ati amma intallan
Edoomiin, olloota ishee hundaa fi intallan Filisxeemotaa jechuunis warra naannoo
kee jiraatan kanneen si tuffatan hundaan ni balfamta. 58 Ati gatii wal bira ga'uu haala
hamaadhaan hojjetteetii fi kan hojii kee jibbisiisaa sanaa ni argatta, jedha Waaqayyo.

59 " 'Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Sababii ati kakuu cabsuudhaan walii
galtee koo tuffatteef, ani akkuma siif malutti sin adaba. 60 Ta'us ani kakuun yeroo
ijoollummaa keetiitti si wajjin gale sana nan yaadadha; kakuu bara baraan hin
diigamnes si wajjin nan gala. 61 Ati gaafas yeroo obboleettota kee hangafaa fi quxisuu
simattutti, karaa kee yaadattee ni qaanofta. Ani intallan taasisee isaan siifan kenna;
garuu kun akka kakuu ani si wajjin gale sanaa miti. 62 Ani si wajjin kakuu nan

gala; atis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beekta. 63 Yeroo ani waan ati hojjette hunda
siif dhiisutti, ati sababii salphina keetiitiif yaadattee ni qaanofta; lammatas afaan hin
saaqattu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.' "

# 17

*Risaa Lamaa fi Muka Wayinii Tokko*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma
namaa, hibboo dubbadhuutii mana Israa'elitti fakkeenya himi. 3 Akkanas isaaniin
jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Risaan guddaan qoochoo jabaa, baallee
dhedheeraa fi bifa adda addaa qabu tokko gara Libaanoon dhufe. Innis mataa
muka birbirsaa fudhatee 4 lataa fiixee isaa irraa cabsee biyya daldaltootaatti geesse;
magaalaa daldaltootaa keessas dhaabe.

5 " 'Innis sanyii biyya keetii keessaa waa fuudhee biyyoo gabbataa keessa kaa'e.
Akka muka qarqara lagaatti biqiluutti bishaan guddaa bira dhaabe; 6 innis biqilee
hidda yaafatee muka wayinii dagaage ta'e. Dameewwan isaa gara isaatti deebi'an;
hiddi isaa garuu isuma jalatti hafe. Inni akkasiin muka wayinii ta'ee dameewwan
baala hedduu qaban baafate.

7 " 'Ergasiis risaa guddaa kan qoochoo guddaa fi baallee baay'ee qabu kan biraatu
ture. Mukti wayinii sunis bishaan akka argatuuf lafa qotiisaa dhaabamee ture sana
keessaa gara risaa sanaatti hidda yaafatee dameewwanis bal'ifate. 8 Mukti wayinii
sun akka dameewwan baasuuf, akka ija naqatuu fi akka wayinii itti tole ta'uuf biyyoo
gaarii qarqara bishaan guddaa jiru keessa dhaabamee ture.'

9 "Akkana isaaniin jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Inni ni guddataa?
Inni akka goguuf buqqifamee iji isaa irraa harca'a mitii? Lataan isaa hundinuus
ni goga. Hidda isaa wajjin isa buqqisuuf irree jabaa yookaan nama hedduu hin
barbaachisu. 10 Inni utuma iddoo tokkoo buqqifamee iddoo biraa dhaabamee iyyuu
ni guddataa? Inni yeroo bubbeen ba'a biiftuu itti bubbistutti lafa qotiisaa keessatti
biqile sana irratti guutumaan guutuutti coollagee hin goguu?' "

11 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 12 "Mana fincilaa
kanaan, 'Isin hiikkaa wantoota kanneenii hin beektanii?' jedhi. Akkana isaaniin
jedhi: 'Mootiin Baabilon gara Yerusaalem dhaqee, mootii isheetii fi namoota ishee
ulfaatoo fuudhee Baabilonitti deebi'e. 13 Ergasii immoo maatii mootichaa keessaa
nama tokko fuudhee kakachiisuudhaan isa wajjin walii galtee uummate. Akkasumas
namoota biyya sanaa jajjaboo fuudhee deeme; 14 kunis akka mootummaan sun gad
deebi'ee mataa ol qabachuu dadhabee walii galtee sana qofaan jiraachuu danda'uuf.
15 Mootichi garuu fardeenii fi loltoota hedduu argachuuf jedhee ergamoota isaa
Gibxitti ergachuudhaan isatti fincile. Inni amma ni milkaa'aa? Namni waan akkanaa
hojjetu ni miliqaa? Inni walii galtee sana cabsee jalaa ba'uu danda'aa?

16 " 'Ani jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; inni Baabilon keessatti biyyuma
mooticha teessoo irra isa kaa'e kan inni kakuu isaa tuffatee walii galtee isaas cabse
sanaa keessatti ni du'a. 17 Yeroo lubbuu hedduu galaafachuuf tuullaan biyyoo
tuulamee da'annoon ijaaramutti, Fara'oon loltoota isaa jajjaboo fi tuuta nama baay'ee
wajjin waraana keessatti homaa isa hin fayyadu. 18 Inni walii galtee tuffatee kakuu
cabse. Sababii walii galteedhaan harka dha'ee garuu waan kana hunda hojjeteef inni
hin ba'u.

19 " 'Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani jiraataadhaatii, ani kakuu
koo kan inni tuffatee fi walii galtee koo kan inni cabse sana matuma isaatti nan
deebisa. 20 Ani kiyyoo koo isaaf nan diriirsa; innis kiyyoo kootiin ni qabama.
Sababii inni anaaf amanamuu dideef ani Baabilonitti isa geessee achitti isatti nan
mura. 21 Loltoonni isaa kanneen baqatan hundinuu goraadeedhaan ajjeefamu; warri

hafan immoo bubbeetti bittinneeffamu. Gaafas isin akka ani WAAQAYYO dubbadhe ni
beektu.
22 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani mataan koo mataa birbirsaa irraa
damee tokko kutee nan dhaaba; fiixee isaa irraa immoo lataa kichuu cabsee tulluu
guddaa ol dheeraa tokko irra nan dhaaba. 23 Anis ol dheerina tulluu Israa'el irra
isa nan dhaaba; inni immoo dameewwan yaafatee, ija naqatee birbirsa guddaa ta'a.
Simbirroonni gosa hundaas isa irra jiraatu; isaanis gaaddisa dameewwan isaa jalatti
iddoo bultii ni qabaatu. 24 Mukkeen bosonaa hundinuu akka ani WAAQAYYO muka
dheeraa gabaabsee muka gabaabaa immoo dheeressu ni beeku. Ani muka jiidhaa
gogsee muka gogaa immoo akka inni lalisu nan godha.
" 'Ani WAAQAYYO dubbadheera; waan kana nan raawwadha.' "

# 18

*Lubbuun Cubbuu Hojjettu Ni duuti*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Isin yeroo,
" 'Abbootiin ija wayinii dhangaggaa'aa nyaannaan,
ilkaan ijoollee hadoode'
jettanii waa'ee biyya Israa'el mammaaktan, maal jechuu keessan?
3 "Ani jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; isin si'achi mammaaksa kana
Israa'el keessatti hin mammaaktan. 4 Lubbuun hundi kan koo ti; akkuma lubbuun
abbaa kan koo taate sana lubbuun ilmaas kan koo ti. Lubbuun cubbuu hojjettu ni
duuti.
5 "Mee nama qajeelaa murtii qajeelaa fi
waan qajeelaa hojjetu tokkotu jira haa jennu.
6 Inni tulluu waaqeffannaa irratti hin nyaatu
yookaan waaqota tolfamoo mana Israa'el hin abdatu.
Inni niitii ollaa isaa hin xureessu
yookaan dubartii xurii qabdu wajjin hin ciisu.
7 Inni nama tokko illee hin cunqursu;
garuu waan qabsiisaan liqeeffate ni deebisa.
Inni nama hin saamu;
garuu nyaata ofii isaa nama beela'eef kenna;
uffata isaas nama qullaa deemutti uffisa.
8 Inni hiiqiidhaan namaaf hin liqeessu
yookaan dhala nama irraa hin fudhatu.
Inni waan hamaa hojjechuu irraa of qusata;
nama tokkoo fi nama kaan gidduuttis murtii qajeelaa kenna.
9 Inni qajeelfama koo duukaa bu'ee
seera koos amanamummaadhaan eega.
Namni akkasii qajeelaa dha;
inni dhugumaan ni jiraata,
jedha WAAQAYYO Gooftaan.
10 "Mee inni ilma jeequmsa kaasu kan dhiiga namaa dhangalaasu yookaan
wantoota kanneen fafakkaatan kan biraa hojjetu qaba haa jennu; 11 abbaan wantoota
kanneen keessaa tokko illee gochuu baatu iyyuu,
"Ilmi immoo tulluu waaqeffannaa irratti nyaata.
Niitii ollaa isaa xureessa.
12 Inni hiyyeeyyii fi rakkattoota cunqursa.
Nama saama.
Waan qabsiisaan qabate hin deebisu.
Gara waaqota tolfamoo ilaala.

Wantoota jibbisiisoo hojjeta.
13 Inni hiiqiidhaan liqeessee dhala fudhata.
Namni akkasii lubbuun ni jiraataa? Hin jiraatu! Inni sababii wantoota jibbisiisoo kanneen hunda hojjeteef dhugumaan ni ajjeefama; dhiigni isaas matuma isaatti deebi’a.
14 “Ilmi kun garuu yoo ilma dhalchee, ilmi sun immoo cubbuu abbaan isaa hojjete hunda utuma arguu sodaatee hojjechuu dhiisa haa jennu:
15 “Inni tulluu waaqeffannaa irratti hin nyaatu
yookaan gara waaqota tolfamoo mana Israa’el hin ilaalu.
Niitii ollaa isaas hin xureessu.
16 Nama tokko illee hin cunqursu
yookaan liqii liqeessuuf qabsiisa hin gaafatu.
Inni nama hin saamu;
garuu nyaata ofii nama beela’eef kenna;
nama daares daara baasa.
17 Harka isaa hiyyeeyyii miidhuu irraa eeggata;
hiiqii yookaan dhala hin fudhatu.
Inni seera koo ni eega; ajajawwan koo duukaas ni bu’a.
Inni sababii cubbuu abbaa isaatiif hin du’u; inni dhugumaan ni jiraata. 18 Abbaan
isaa garuu waan nama gowwoomseef, waan obboleessa isaa saamee uummata isaa gidduutti daba hojjeteef cubbuudhuma ofii isaatiin du’a.
19 “Isin garuu, ‘Ilmi maaliif cubbuu abbaa isaatiin hin adabamne?’ jettanii gaafattu.
Ilmi sun waan qajeelaa fi sirrii hojjetee ajajawwan koo hundas of eeggannoodhaan
eegeef inni dhugumaan lubbuudhaan ni jiraata. 20 Lubbuun cubbuu hojjettu ni duuti.
Ilmi cubbuu abbaa isaatiin hin adabamu yookaan abbaan cubbuu ilma isaatiin hin adabamu. Qajeelinni nama qajeelaa isumaaf ta’a; hamminni nama hamaas isumatti deebi’a.
21 “Namni hamaan tokko garuu yoo cubbuu hojjete hunda irraa deebi’ee ajajawwan koo hunda eegee, waan qajeelaa fi waan sirrii hojjete inni dhugumaan ni jiraata; hin
du’us. 22 Balleessaa inni hojjete keessaa tokko iyyuu isatti hin herregamu. Sababii
wantoota qajeelaa hojjeteef inni lubbuudhaan ni jiraata. 23 Ani du’a hamootaatti nan
gammadaa? jedha WAAQAYYO Gooftaan. Qooda kanaa yoo isaan cubbuu isaanii irraa deebi’anii lubbuudhaan jiraatan ani hin gammaduu?
24 “Garuu namni qajeelaan tokko yoo qajeelummaa isaa irraa deebi’ee cubbuu hojjetee wantoota jibbisiisoo namichi hamaan sun hojjechaa ture sana hojjete inni lubbuudhaan ni jiraataa? Waan qajeelaa inni hojjete keessaa tokko iyyuu isaaf hin yaadatamu. Inni sababii amanamuu didee cubbuu hojjeteef ni du’a.
25 “Isin garuu, ‘Karaan Gooftaa qajeelaa miti’ jettu. Yaa mana Israa’el dhaga’aa:
Karaan koo qajeelaa dha mitii? Jal’aan karaa keessan mitii? 26 Namni qajeelaan yoo
qajeelummaa isaa irraa deebi’ee cubbuu hojjete inni cubbuu sanaan ni du’a. Inni
sababii cubbuu hojjete sanaatiif ni du’a. 27 Namni hamaan tokko garuu yoo hammina
isaa irraa deebi’ee murtii qajeelaa fi waan qajeelaa hojjete inni lubbuu isaa ni oolfata.
28 Inni sababii yakka hojjete hunda hubatee irraa deebi’eef dhugumaan lubbuudhaan
ni jiraata; hin du’us. 29 Ta’u illee manni Israa’el, ‘Karaan Gooftaa qajeelaa miti’ jedha.
Yaa mana Israa’el, karaan koo qajeelaa dha mitii? Jal’aan karaa keessan mitii?
30 “Kanaafuu yaa mana Israa’el, ani tokkoo tokkoo keessanitti akkuma hojii keessaniitti nan mura, jedha WAAQAYYO Gooftaan. Qalbii jijjiirradhaa! Yakka keessan
hunda irraa deebi’aa; yoos isin cubbuudhaan hin baddan. 31 Daba natti hojjettan
hunda of irraa gataatii garaa haaraa fi hafuura haaraa qabaadhaa. Yaa mana
Israa’el isin maaliif duutu? 32 Ani du’a nama kamiitti iyyuu hin gammaduutii, jedha
WAAQAYYO Gooftaan. Qalbii jijjiirradhaatii lubbuudhaan jiraadhaa!

# 19

*Faaruu Boo'ichaa*

1 "Waa'ee ilmaan mootota Israa'eliif faarsii boo'i; 2 akkanas jedhi:
" 'Haati kee leencota gidduutti,
leenca akkamii turte!
Isheen leencota gidduu ciiftee
ilmoolee ishee guddifatte.
3 Ilmoolee ishee keessaas tokko guddifatte;
innis leenca jabaa ta'e.
Inni waa adamsee ciccirachuu barate;
namootas nyaate.
4 Saboonni waa'ee isaa dhaga'an;
inni boolla isaanii keessatti qabame.
Isaan hokkoodhaan harkisanii
gara biyya Gibxitti isa geessan.

5 " 'Isheen yommuu akka abdiin ishee hin guutamin,
akka wanni isheen yaaddes hin milkaa'in argitetti,
ilmoolee ishee keessaa kan biraa fudhattee
leenca jabaa gootee guddifte.
6 Inni leencota gidduu biddiiqe;
leenca jabaa ta'eeraatii.
Inni waa adamsee ciccirachuu barate;
namootas nyaate.
7 Inni da'annoo isaanii diige;
magaalaawwan isaaniis onse.
Biyyattii fi kanneen ishee keessa jiraatan hundi
aaduu isaatiin raafaman.
8 Ergasii saboonni warri kutaalee biyya naannoo
sanaa jiran isatti ka'an.
Isaanis kiyyoo isaanii isa duratti diriirsan;
innis boolla isaanii keessatti qabame.
9 Isaan hokkoodhaan qabanii mana shiboo keessa isa kaa'an;
gara mootii Baabilonitti isa fidan.
Mana hidhaatti isa galchan;
kanaafuu aaduun isaa
tulluuwwan Israa'el irratti ergasii hin dhaga'amne.

10 " 'Haati kee akkuma wayinii
lafa qotiisaa kee keessa bishaan bira dhaabatee ti;
biqiltuun sunis sababii bishaan baay'ee argatteef
mistee damee hedduu baaffatte.
11 Dameewwan isaas jajjaboo
bokkuu bulchaatiif ta'an turan.
Isheen baalawwan gobbatan gidduutti
ol dheerina isheetii fi
baay'ina dameewwan isheetiin
ol dheerattee mul'atti turte.
12 Isheen garuu aariidhaan buqqifamtee
lafatti gatamte.
Bubbeen ba'a biiftuu ishee gogsee
ija ishee irraa harcaase;

dameewwan ishee ciccimoonis ni coollagan;
ibiddis isaan fixe.
13 Amma isheen gammoojjii keessa,
lafa gogaa dheebote irra dhaabamte.
14 Damee ishee tokko keessaa ibiddi ba'ee
ija ishee fixe.
Dameen jabaan bokkuu bulchaatiif ta'u
tokko iyyuu ishee irratti hin hafne.'
Kun faaruu boo'ichaa kan boo'ichaaf itti fayyadamanii dha."

# 20

*Israa'el Finciltuu*

1 Waggaa torbaffaa, ji'a shanaffaa keessa guyyaa kudhannaffaatti maanguddoota
Israa'el keessaa tokko tokko waan WAAQAYYO jedhu gaafachuuf dhufanii fuula koo
dura tataa'an.
2 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 3 "Yaa ilma namaa,
akkana jedhii maanguddoota Israa'elitti dubbadhu; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana
jedha: Isin yaada koo gaafachuu dhuftanii? Ani jiraataadhaatii, ani akka isin yaada
koo gaafattaniif isinii hin eeyyamu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.'
4 "Ati isaanitti murtaa? Yaa ilma namaa, ati isaanitti murtaa? Ergasiis akka
isaan hojiiwwan abbootii isaanii jibbisiisoo sana beekan godhi; 5 akkanas isaaniin
jedhi: 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani gaafan Israa'el filadhetti harka koo ol
qabadhee sanyii mana Yaaqoobiif kakachuudhaan biyya Gibxi keessatti isaanitti of
mul'iseera. Harka koo ol kaasee, "Ani WAAQAYYO Waaqa keessan" isaaniin jedheera.
6 Gaafas ani biyya Gibxii isaan baasee biyya ani isaaniif file kan aannanii fi damma
baastu, biyya biyyoota hunda caalaa miidhagdutti isaan galchuudhaaf isaaniif nan
kakadhe. 7 Anis akkanan isaaniin jedhe; "Tokkoon tokkoon keessan wantoota
jibbisiisoo kan iji keessan itti gammadu sana balleessaa; waaqota Gibxiinis of hin
xureessinaa. Ani WAAQAYYO Waaqa keessan."
8 " 'Isaan garuu natti fincilanii na dhaga'uu didan; wantoota jibbisiisoo iji isaanii itti
gammade sanas hin balleessine yookaan waaqota Gibxi tolfamoo sanas hin dhiisne.
Kanaafuu ani biyya Gibxi keessatti aarii koo isaanitti ba'uudhaaf dheekkamsa
koo isaan irratti nan dhangalaasa jedheen ture. 9 Ani garuu akka maqaan koo
fuula saboota Israa'eloonni gidduu isaanii jiraatan kanneen ani Israa'eloota biyya
Gibxii baasuudhaan fuula isaanii duratti of beeksise sanaa duratti hin xuroofne
gochuudhaaf maqaa kootiif jedheen hojjedhe. 10 Kanaafuu ani biyya Gibxii isaan
baaseen gammoojjiitti isaan fide. 11 Akka namni isaaniif ajajamu isaaniin jiraatuuf
ani sirnawwan koo isaaniif nan kenne; seerawwan koos isaanitti nan beeksise.
12 Akkasumas akka isaan akka ani WAAQAYYO isaan qulqulleesse beekaniif, akka anaa
fi isaan gidduutti mallattoo ta'uuf Sanbatoota koo isaaniif nan kenne.
13 " 'Manni Israa'el garuu gammoojjii keessatti natti fincile. Sirna koo isa namni
yoo itti bule isaan jiraatu isa hin eegne; seera koos ni tuffatan. Sanbatoota koos
guutumaan guutuutti xureessan. Kanaafuu ani dheekkamsa koo isaanitti roobsee
gammoojjii keessatti isaanan barbadeessa jedhen ture. 14 Ani garuu akka maqaan
koo fuula saboota utuma iji isaanii arguu Israa'elin achii baase sanaa duratti hin
xuroofneef maqaa kootiif jedhee waan kana nan hojjedhe. 15 Akkasumas biyya
ani isaaniif kenne kan biyyoota hunda caalaa miidhagdu kan aannanii fi damma
baastutti akka isaan hin galchine harka koo ol qabadhee gammoojjii keessatti isaanitti
nan kakadhe; 16 kunis waan isaan seera koo tuffataniif, sirna koo duukaa hin
bu'inii fi Sanbatoota koo xureessaniif. Yaadni isaanii waaqota isaanii tolfamoo
faana bu'eeraatii. 17 Ta'us ani gara laafinaanan isaan ilaale malee isaan hin

balleessine yookaan gammoojjii keessatti isaan hin fixne. [18] Ani gammoojjii keessatti
ijoollee isaaniitiin akkana nan jedhe; "Sirna abbootii keessanii duukaa hin bu'inaa
yookaan seera isaanii hin eeginaa yookaan waaqota isaanii tolfamoon of hin
xureessinaa. [19] Ani WAAQAYYO Waaqa keessan; sirna koo duukaa bu'aa; seera koos
of eeggannaadhaan eegaa. [20] Akka inni nu gidduutti mallattoo ta'uuf Sanbata koo
qulqullinaan eegaa. Ergasii isin akka ani WAAQAYYO Waaqa keessan ta'e ni beektu."
[21] " 'Ijoolleen isaanii garuu natti fincilan; isaan sirna koo isa, "Namni yoo itti bule
isaan jiraatu" sana duukaa hin buune; seera koos of eeggannoodhaan hin eegne.
Sanbatoota koos ni xureessan. Kanaafuu ani dheekkamsa koo isaanitti roobsee
gammoojjii keessatti aarii koo isaanitti nan ba'a jedheen ture. [22] Ani garuu maqaa
kootiif jedhee akka maqaan koo fuula saboota ani utuma isaan ilaalanuu achii
isaan baase sanaa duratti hin xuroofneef harka koo dachaafadhe. [23] Akkasumas
ani gammoojjii keessatti harka koo ol qabadhee akkan saboota gidduutti isaan
faffacaasuu fi biyyoota keessa isaan bittinneessu fuula isaanii duratti nan kakadhe;
[24] isaan seera kootiif ajajamuu didan; sirna koos ni tuffatan; Sanbatoota koos ni
xureessan; iji isaaniis waaqota tolfamoo kan abbootii isaanii duukaa bu'e. [25] Anis
sirna gaarii hin ta'inii fi seera isaan itti hin jiraannetti dabarseen isaan kenne; [26] anis
sodaadhaan isaan guutuufan aarsaa isaan ilmaan isaanii hangafa dhi'eessuudhaan
kennan sanaan akka isaan xuraa'an nan godha; kanas ani akka isaan akka ani
WAAQAYYO ta'e beekaniifan godhe.'
[27] "Kanaafuu yaa ilma namaa, akkana jedhii saba Israa'elitti dubbadhu; 'WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha: Kanaanis abbootiin keessan na gananii na arrabsan; [28] yeroo
ani gara biyya ani isaaniif kennuuf kakadhee ture sanaatti isaan galchee isaan
immoo gaara ol dheeraa kam iyyuu yookaan muka lalisaa kam iyyuu arganitti, isaan
achitti aarsaa isaaniif dhi'eessan; aariif na kakaasuuf jedhanii qalma dhi'eessan;
ixaana isaanii urgaa'aa dhi'eessanii dhibaayyuu isaaniis dhibaafatan. [29] Anis lafti
ol dheeraan isin dhaqxan kun maal?' isaaniin jedhe." Hamma har'aatti lafti sun
Baamaa jedhamee waamama.

### *Murtii fi Araara*

[30] "Kanaaf mana Israa'eliin akkana jedhi: 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Isin
akkuma abbootii keessanii of xureessitanii hawwii wantoota jibbisiisoo isaaniitiin
gubattanii? [31] Isin yeroo kennaa keessan dhi'eessitanii ilmaan keessan ibiddaan
aarsaa gootanitti, hamma har'aatti ittuma fuftanii waaqota keessan tolfamoo
hundaan of xureessitan. Yaa mana Israa'el, akka isin na kadhattani ani isiniif nan
eeyyamaa? Ani dhugumaan jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; akka isin na
kadhattan ani isiniif hin eeyyamu.
[32] " 'Isin, "Nu akka sabootaa, akka uummata addunyaa kanneen mukaa fi
dhagaadhaaf sagadan sanaa ta'uu feena" jettu. Garuu wanni isin garaatti yaaddan
gonkumaa hin ta'u. [33] Ani dhugumaan jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; ani
irree jabaa fi harka diriirfameen, dheekkamsa roobsuudhaan isinan bulcha. [34] Ani
harka jabaadhaan, irree diriirfamee fi dheekkamsa roobeen saboota keessaa isinan
fida; biyyoota isin itti bibittinnooftan keessaas walitti isinan qaba. [35] Ani gammoojjii
sabootaatti isin fidee achitti ifaan ifatti isinitti nan mura. [36] Ani akkuman biyya
Gibxitti abbootii keessanitti mure sana isinittis nan mura, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
[37] Ani akka isin ulee koo jalaan lootan nan godha; hidhaa kakuuttis isin nan galcha.
[38] Warra natti ka'anii natti fincilan isin keessaa nan baasa. Biyya isaan jiraachaa
turan sana keessaa isaan nan baasa; garuu isaan biyya Israa'el hin seenan. Kanaanis
isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.
[39] " 'Yaa mana Israa'el waa'ee keessan garuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
Tokkoon tokkoon keessan dhaqaatii waaqota tolfamoo keessan tajaajilaa! Ergasii

garuu dhugumaan na dhaggeeffattu; kennaa fi waaqota keessaniinis lammata maqaa
koo qulqullicha hin xureessitan. 40 Tulluu koo qulqullicha irratti, tulluu Israa'el
dheeraa sana irratti, jedha WAAQAYYO Gooftaan, achitti guutummaan mana Israa'el
na tajaajilu; anis achitti isaan nan simadha. Achittis buusii keessanii fi kennaa
keessan filatamaa sana aarsaa keessan qulqulluu hunda wajjin nan barbaada. 41 Ani
yeroon saboota keessaa isin baasee biyyoota isin itti bittinnooftanii turtan keessaa
walitti isin qabutti, ixaana urgaa'aa godhadhee isin nan simadha; fuula sabootaa
durattis isin gidduutti qulqulluu ta'uu koo of nan mul'isa. 42 Yeroo ani biyya Israa'el,
biyya ani abbootii keessaniif kennuuf harka ol qabadheen kakadhee ture sanatti isin
galchutti isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu. 43 Achitti isin amala keessanii fi
gochawwan ittiin of xureessitan hunda ni yaadattu; hammina hojjettan hundaafis of
balfitu. 44 Yaa mana Israa'el, yeroo ani utuu akka hammina keessaniittii fi akka hojii
keessan fokkisaa sanaatti hin ta'in, maqaa kootiif jedhee isinii araaramutti, isin akka
ani WAAQAYYO ta'e ni beektu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.' "

*Raajii Negeebiin Mormuudhaan Dubbatame*

45 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 46 "Yaa ilma
namaa, fuula kee gara kibbaatti garagalfadhu; biyya kibbaatti lallabiitii bosona
biyya Negeebiitiin mormuudhaan raajii dubbadhu. 47 Bosona Negeebiin akkana
jedhi: 'Dubbii WAAQAYYOO dhaga'i. WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani ibidda
sitti qabsiisuufan jira; innis mukkeen kee hunda jiidhaa fi goggogaa illee ni fixa.
Arrabni isaa hin dhaamu; wanni kibbaa hamma kaabaatti jiru hundinuus ni gubama.
48 Namni hundinuus akka ani WAAQAYYO ibidda sana qabsiise ni beeka; ibiddi sunis
hin dhaamu.' "

49 Anis, "Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ani bade! Isaan waa'ee koo, 'Inni fakkeenya
dubbata mitii?' anaan jedhu" jedhe.

# 21

*Baabilon Goraadee Murtii Waaqaa ti*

1 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa, fuula kee
gara Yerusaalemitti garagalfadhuutii iddoo qulqulluu kanaan mormii lallabi. Biyya
Israa'eliinis mormii raajii dubbadhu; 3 akkanas isheen jedhi: 'WAAQAYYO akkana
jedha: Ani sitti nan ka'a. Goraadee koo man'ee isaa keessaa luqqifadhee nama
qajeelaas, hamaas si keessaa nan balleessa. 4 Waan ani nama qajeelaas, nama hamaas
balleessuudhaaf goraadeen koo saba kibbaa hamma kaabaatti jirutti ni luqqifama.
5 Akka ani WAAQAYYO goraadee koo man'ee isaa keessaa luqqifadhe, namni hundi ni
beeka; innis man'ee isaatti hin deebi'u.'

6 "Kanaafuu yaa ilma namaa, aadi! Fuula isaanii duratti garaa cabaa fi gadda
hadhaa'aadhaan aadi. 7 Yommuu isaan, 'Ati maaliif aadda?' jedhanii si gaafatanitti,
'Sababii oduu dhaga'amaa jiruutiif. Onneen hundi ni baqxi; harki hundis ni laafa;
hafuurri hundi ni gaggaba; jilbi hundis bishaan ta'a.' Oduuni sun dhaga'amaa jira!
Dhugumaanis ni ta'a, jedha WAAQAYYO Gooftaan."

8 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 9 "Yaa ilma namaa,
raajii dubbadhuutii, 'Gooftaan akkana jedha' jedhi:

" 'Goraadee! Goraadee!
Goraadee qaramee cululuqfame,
10 kan ajjeesuuf qarame,
akka balaqqee calaqqisuudhaaf cululuqfame!

" 'Nu bokkuu ilma koo Yihuudaatiin gammannaa? Goraadeen ulee akkasii hunda
tuffata.

11 " 'Goraadeen akka harkaan qabatamuuf

cululuqfamuuf ramadameera;
harka warra nama qaluutti kennamuuf
qaramee cululuqfameera.
12 Yaa ilma namaa, kun saba kootti,
ilmaan mootota Israa'el hundatti dhufeeraatii,
iyyii wawwaadhu.
Isaan saba koo wajjin
goraadeedhaaf kennamaniiru.
Kanaafuu ati laphee kee rukuti.
13 " 'Qorumsi dhugumaan ni dhufa. Yoo bokkuun goraadeen tuffate sun itti fufuu
baate hoo? jedha WAAQAYYO Gooftaan.'
14 "Kanaafuu yaa ilma namaa, ati raajii dubbadhu;
harka kees walitti rurrukuti.
Goraadeen yeroo lama,
yeroo sadiis haa dha'u.
Goraadeen kun goraadee nama fixu,
goraadee akka malee nama fixu,
kan qixa hundaan isaan marsuu dha.
15 Kunis akka onneen baqxee
hedduun isaanii barbadeeffamaniif
ani balbala isaanii hunda dura
ajjeechaaf goraadee kaa'eera.
Wayyoo! Inni akka calaqqisuuf haxaa'ameera;
inni nama ajjeesuuf cululuqfame.
16 Yaa goraadee,
kallattii qara keetii hundaan
karaa mirgaatiinis, karaa bitaatiinis kuti.
17 Anis harka koo walitti nan rurrukuta;
dheekkamsi koos ni qabbanaa'a.
Ani WAAQAYYO dubbadheeraa."
18 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 19 "Yaa ilma namaa, akka
goraadeen mootii Baabilon ittiin dhufuuf daandii lama baasi; lachanuu biyyuma
tokkoo ka'u. Iddoo daandiin sun gara magaalaatti goru irras mallattoo dhaabi.
20 Goraadee Rabbaa Amoonotaatti dhufuuf daandii tokko mallattoo godhadhu; kan
Yihuudaa fi magaalaa Yerusaalem ishee da'annoo qabdu sanatti dhufu immoo
daandii lammaffaa mallattoo godhadhu. 21 Mootiin Baabilon milkii ilaallachuuf
jedhee iddoo daandiin sun wal ga'u irra, fiixee daandiiwwan lamaanii irra dhaabata;
innis xiyyaan ixaa buufata; waaqota isaa tolfamoo sanaan ni mari'ata; tiruus ni
ilaallata. 22 Akka inni waan ittiin dallaa diigu dhaabuuf, akka ajaja ajjeechaa
kennuuf, akka waca waraanaa dhageessisuuf, akka waan ittiin dallaa diigan karra
dura kaa'uuf, akka biyyoo tuuluu fi akka da'annoo hojjetuuf harka isaa mirgaatti
ixaan Yerusaalemiif ba'e. 23 Wanni kunis warra isa wajjin kakuu galaniif milkii
sobaa fakkaata; inni garuu dogoggora isaanii isaan yaadachiisee boojuudhaan isaan
fudhata.
24 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: 'Isin sababii akka cubbuun
keessan waan isin hojjettan hunda keessatti mul'atuuf, akka balleessaan keessan hin
dhokanne gochuudhaan waan akka yakki keessan yaadatamu gootaniif jechuunis
waan akkana gootaniif ni booji'amtu.
25 " 'Yaa ilma mootii Israa'el xuraa'aa fi hamaa nana, kan guyyaan kee dhi'aate,
kan yeroon adabama keetii fiixee ga'e, 26 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Marata
of irraa hiiki; gonfoos of irraa fuudhi. Wanti akka amma jirutti hafu hin jiru; kan

gad qabame ol qabama; kan ol qabame immoo gad qabama. [27] Diigama! Diigama!
Ani ishee nan diiga! Hamma namni isheen isaaf maltu dhufutti isheen akka kanaan
duraa hin taatu; ishees isaaf nan kenna.’
[28] “Yaa ilma namaa, akkana jedhii raajii dubbadhu; ‘WAAQAYYO Gooftaan waa’ee
Amoonotaa fi arrabsoo isaanii akkana jedha:

“ ‘Goraadee, goraadee,
kan ajjeesuuf luqqifame,
akka fixuu fi akka calaqqisuuf
kan haxaa’ame!
[29] Mul’anni sobaa waa’ee keetiif,
raajiin sobaa siif jiraatu iyyuu,
inni morma hamoota ajjeefamuu qaban
kanneen guyyaan isaanii dhi’aate,
warra yeroon adabbii isaanii
ga’e irra ni kaa’ama.
[30] Goraadee man’ee isaatti deebisi;
iddoo ati itti dhalattetti,
biyya akaakayyuu keetiitti,
ani sitti nan mura.
[31] Ani dheekkamsa koo sirratti nan dhangalaasa;
ibidda aarii kootiis sitti nan buufa;
ani namoota hamoo kanneen balleessuudhaan beekamanitti
dabarsee sin kenna.
[32] Ati qoraan ibiddaa taata;
dhiigni kee biyya kee keessatti dhangala’a;
si’achi hin yaadatamtu;
ani WAAQAYYO dubbadheeraatii.’ ”

# 22

*Cubbuu Yerusaalem*

[1] Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe:

[2] “Yaa ilma namaa, isheetti murtaa? Magaalaa dhiiga dhangalaaftu kanatti ni
murtaa? Yoos hojii ishee jibbisiisaa sana itti himi; [3] akkanas jedhi: ‘WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha: Yaa magaalaa of keessatti dhiiga dhangalaasuudhaan badii
ofitti fiddee waaqota tolfamoo tolchuudhaan of xureessitu, [4] ati sababii dhiiga
dhangalaafte sanaatiif yakka hojjetteerta; sababii waaqota tolfamoo tolchiteef immoo
xuroofteerta. Ati bara kee gabaabsiteerta; xumuramuun bara keetiis dhi’aateera.
Kanaafuu ani namoota ormaa biratti tuffatamtuu, biyyoota hundaaf immoo waan
qoosaa sin taasisa. [5] Yaa magaalaa salphatee gooliin si keessa guute, warri dhi’oo fi
fagoo jiraatan sitti qoosu.
[6] “ ‘Akka tokkoon tokkoon ilmaan moototaa kanneen si keessa jiraatan humna
isaaniitti fayyadamanii dhiiga dhangalaasan ilaali. [7] Abbootii fi haadhonni si keessatti
salphifaman; alagoonni ni hacuucaman; ijoolleen abbaa hin qabnee fi haadhonni
hiyyeessaa si keessatti miidhaman. [8] Ati mi’oota koo qulqulluu tuffattee Sanbata
koos xureessite. [9] Namoonni dhiiga dhangalaasuuf maqaa nama balleessan si keessa
jiru; warri galma waaqeffannaa tulluuwwan irraattii nyaatanii fi sagaagalan si keessa
jiru. [10] Namoonni siree abbaa isaanii xureessan si keessa jiru; namoonni dubartoota
xurii ji’aa qaban kanneen akka seeraatti qulqulluu hin ta’in wajjin ciisanis si keessa
jiru. [11] Si keessatti namni tokko niitii ollaa isaa wajjin waan jibbisiisaa hojjeta; kaan
haala fokkisaadhaan niitii ilma isaa xureessa; kaan immoo obboleettii isaa, intaluma

abbaa isaa xureessa. 12 Namoonni dhiiga dhangalaasuuf jedhanii si keessatti matta'aa
fudhatu; atis hiiqii fi dhala fudhachuudhaan ollaa kee irraa bu'aa hin malle argachaa
jirta. Ati na irraanfatteerta, jedha WAAQAYYO Gooftaan.

13 " 'Ani dhugumaan bu'aa ati karaa hin malleen argattee fi dhiiga ati gidduu
keetti dhangalaafte sanaaf harka koo walitti nan rurrukuta. 14 Gaafa ani si
adabutti garaan kee jabaatee dhaabachuu yookaan harki kee humna qabaachuu
danda'aa? Ani WAAQAYYO dubbadheera; waan kanas nan godha. 15 Ani saboota
keessa sin bittinneessa; biyyoota keessas sin facaasa; xuraa'ummaa kees sirraa nan
qulqulleessa. 16 Ati yeroo fuula sabootaa duratti xurooftetti akka ani WAAQAYYO ta'e
ni beekta.' "

17 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 18 "Yaa ilma
namaa, manni Israa'el udaan sibiilaa natti ta'eera; hundi isaanii naasii, qorqorroo,
sibiilaa fi dilaalii boolla ibiddaa keessatti dhiifame natti ta'aniiru. Isaan udaanuma
meetiiti malee homaa miti. 19 Kanaafuu WAAQAYYO gooftaan akkana jedha: 'Sababii
hundi keessan udaan sibiilaa taataniif, ani Yerusaalem keessatti walittan isin qaba.
20 Akkuma namoonni meetii, naasii, sibiila, dilaalii fi qorqorroo baqsuuf jedhanii
boolla ibiddaatti guuran sana, anis aarii fi dheekkamsa kootiin walitti isin qabee
magaalaa keessatti isinan baqsa. 21 Ani walitti isin qabee ibidda dheekkamsa
kootii isinitti nan buufa; isinis ishee keessatti ni baqfamtu. 22 Akkuma meetiin
boolla ibiddaa keessatti baqfamu sana, isinis ishee keessatti ni baqfamtu; akka ani
WAAQAYYO dheekkamsa koo isinitti roobses ni beektu.' "

23 Ammas dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 24 "Yaa ilma namaa
biyya sanaan, 'Ati biyya hin qulqulleeffamin yookaan kan bara dheekkamsaa keessa
bokkaan itti hin roobinii dha' jedhi. 25 Ilmaan moototа ishee akkuma leenca waan
adamsate cicciracha aaduu ti; isaan saba nyaatu; qabeenyaa fi mi'oota gatii guddaa
saamuudhaan dubartoota hedduu dhirsa malee hambisu. 26 Luboonni ishee seera
koo cabsanii mi'oota koo qulqulluu xureessu; isaan waan qulqullaa'ee fi waan hin
qulqullaa'in gargar hin baasan; kan hin qulqullaa'inii fi kan qulqullaa'e gidduu
garaa garummaan hin jiru jedhanii barsiisu; akka ani isaan gidduutti tuffatamuuf
Sanbatoota koo eeguu irraa ija isaanii dunuunfatu. 27 Ishee keessatti qondaaltonni
ishee akkuma yeeyyiiwwan waan adamsatan cicciracha jiranii ti; isaan bu'aa hin
malle argachuuf jedhanii dhiiga dhangalaasu; namootas ni ajjeesu. 28 Raajonni ishees
hojii kana mul'ata sobaatii fi raajii sobaatiin haguugu. Isaan utuma WAAQAYYO
hin dubbatin, 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha' jedhu. 29 Sabni biyya sanaa ni
cunqursu; ni saamus; murtii qajeelaa gananii hiyyeeyyii fi rakkattoota hacuucu;
alagootas ni miidhu.

30 "Nama akka ani biyyattii hin balleessineef dallaa ijaaree biyyattiidhaaf jedhee
karaa qaawwaatiin fuula koo dura dhaabatu isaan gidduu nan barbaade; garuu nama
tokko illee hin arganne. 31 Kanaafuu ani dheekkamsa koo isaanitti roobsee ibidda
aarii kootiitiin isaan nan fixa; waan isaan godhan hunda mataa isaaniitti nan fida,
jedha WAAQAYYO Gooftaan."

# 23

*Obboleettota Sagaagaltoota Lamaan*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
dubartoota lama, intallan haadha tokkootu ture. 3 Isaanis shamarrummaa isaaniitii
jalqabanii sagaagalummaadhaaf of kennuudhaan biyya Gibxi keessatti sagaagaltoota
ta'an. Biyya sanattis harmi isaanii ni tuttuqame; fiixeen guntuta isaanii kan yeroo
durbummaa immoo ni qaqqabatame. 4 Ishee hangafni Oholaa, obboleettiin ishee

immoo Oholaa jedhamte. Isaanis kan koo turan; ilmaanii fi intallanis da’an. Aholaan
Samaariyaa dha; Oholiibaan immoo Yerusaalemii dha.

[5] “Oholaan utuma kan koo taatee jirtuu sagaagalummaa jalqabde; isheenis
michoota ishee jechuunis loltoota Asoor kajeelte; [6] isaanis loltoota wayyaa bifa cuquli-
isaa uffatan, bulchitootaa fi ajajjoota; isaan hundinuus namoota mimmiidhagoo
kanneen farda yaabbatan turan. [7] Isheenis hayyoota Asoor hundaaf sagaagalum-
maadhaan of kennite; waaqota tolfamoo namoota isheen kajeelte sanaa hundaanis
of xureessite. [8] Isheen sagaagalummaa ishee kan biyya Gibxi keessatti jalqabde
sana hin dhiifne; yeroo shamarrummaa isheetti namoonni ishee wajjin ciisan fiixee
guntuta ishee kan yeroo durbummaa qaqqabatanii dharraa sagaagalummaa isaanii
ishee irratti dhangalaasan.

[9] “Kanaafuu ani michoota ishee, Asoorota isheen dharraatetti dabarsee ishee nan
kenne. [10] Isaanis qullaa ishee mul’isan; ilmaanii fi intallan ishee ni fudhatan;
goraadeedhaanis ishee ajjeesan. Isheen dubartoota keessatti waan kolfaa taatee
murtiin ishee irratti raawwatame.
[11] “Obboleettiin ishee Oholiibaa waan kana argitee turte; ta’us isheen dharraa
isheetii fi sagaagalummaa isheetiin obboleettii ishee caalaa xuroofte. [12] Akkasumas
isheen Asoorota jechuunis bulchitootaa fi ajajjoota, loltoota wayyaa irraa fi jalaa uffa-
tan, namoota farda yaabbatan kanneen hundi isaanii dargaggeeyyii mimmiidhagoo
ta’an dharraate. [13] Ani akka isheenis of xureessite nan arge; lachan isaanii iyyuu
daandii tokko irra deemu.
[14] “Isheen garuu sagaagalummaa ishee ittuma fufte. Fakkii namootaa kan
keenyan manaa irratti fakkeeffame, fakkiiwwan Kaldootaa kan halluu diimaadhaan
fakkeeffame, [15] kan mudhii isaanii irraa sabbata, mataa isaanii irraa immoo marata
qaban argite; isaan hundi ajajjoota gaarii waraanaa kan Baabilonotaa, dhalattoota
biyya Kaldootaa fakkaatu ture. [16] Isheenis akkuma isaan argiteen isaan dharraatee
gara biyya Kaldootaatti ergamoota isaanitti ergatte. [17] Warri Baabilonis gara ishee,
gara siree jaalalaa seenanii dharraa sagaagalummaa isaaniitiin ishee xureessan.
Isheenis erga isaaniin xurooftee booddee jibbitee isaan irraa garagalte. [18] Yeroo
isheen ifaan ifatti sagaagalummaa ishee itti fuftee qullaa of dhaabdetti, ani akkuman
obboleettii ishee irraa gara gale sana jibbaan ishee irraa nan gara gale. [19] Ta’us
isheen akkuma yeroo shamarrummaa ishee, yeroo biyya Gibxi keessatti sagaagaltuu
turte sana yaadatteen sagaagalummaa ishee ittuma fufte. [20] Isheenis achitti michoota
ishee kanneen dhagni saala isaanii, dhagna hormaata korma harree fakkaatu,
fincaan isaanii kan dhiiraa immoo fincaan korma fardaa fakkaatu sana dharraate.
[21] Kanaafuu ati addaggummaa yeroo shamarrummaa keetii kan yeroo biyya Gibxi
turtetti harmi kee qaqqabatamee guntunni kee immoo tuttuqame sana yaadatte.

[22] “Kanaafuu yaa Oholiibaa, Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Ani michoota kee
kanneen ati xireeffattee irraa garagalte sana sitti kaasee qixa hundaan sitti nan
fida. [23] Isaan kunneenis Baabilonotaa fi Kaldoota hunda, namoota Pheqood kan
Shoo’aatii fi Qo’aa turan; isaan wajjinis Asoorota hundattu ture; Asooronni kunneenis
dargaggeeyyii mimmiidhagoo hundi isaanii bulchitootaa fi ajajjoota waraanaa,
ajajjoota gaarii waraanaatii fi namoota sadarkaa ol aanaa kanneen hundi isaanii
fardaan deeman turan. [24] Isaanis mi’a lolaatii fi gaarii waraanaa, gaariiwwan biraatii
fi tuuta uummataa wajjin sitti dhufu; isaanis gaachana guddaa fi xinnaan, gonfoo
sibiilaatiin qixa hundaan sitti hiriiru; ani dabarsee isaanitti adabbiif sin kenna; isaan
akkuma seera isaaniitti si adabu. [25] Ani dheekkamsa koo sitti nan erga; isaanis
aariidhaan sirra yaa’u. Funyaanii fi gurra kee sirraa kutu; warri si keessaa hafan
iyyuu goraadeedhaan dhumu. Isaan ilmaan keetii fi intallan kee fudhatanii deemu.
Warri si keessaa hafan immoo ibiddaan barbadeeffamu. [26] Akkasumas wayyaa kee

sirraa baafatanii faaya kee miidhagaa fudhatu. 27 Akkasiin ani addaggummaa fi
sagaagalummaa ati biyya Gibxitti jalqabde sana nan dhaaba. Ati dharraadhaan
wantoota kanneen hin ilaaltu yookaan lammata biyya Gibxi hin yaadattu.

28 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii: Ani warra ati jibbite, kanneen ati
xireeffattee irraa garagalte sanatti dabarsee sin kenna. 29 Isaanis jibbaan sitti
dhufanii waan ati itti dadhabde hunda sirraa fudhatu. Qullaa fi harka duwwaa
si hambisu; qaaniin sagaagalummaa keetiis ifatti ba'a. Addaggummaan keetii fi
halalummaan kee, 30 waan kana sitti fidaniiru; ati saboota ormaa dharraatee waaqota
isaanii tolfamoodhaan of xureessiteertaatii. 31 Ati karaa obboleettiin kee deemte irra
deemteerta; kanaafuu ani harka kee keessa xoofoo ishee nan kaa'a.

32 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:

"Atis xoofoo guddaa fi gad fagoo,
 xoofoo obboleettii keetii ni dhugda;
ati arrabsoo fi tuffii ni quufta;
 xoofoon sun dhugaatii baay'ee qabataatii.
33 Ati xoofoo obboleettii keetii kan Samaariyaatiin,
 xoofoo diigamuutii fi badiisaatiin,
 kan machiitii fi gaddaatiin ni guutamta.
34 Ati ni dhugda; keessaas ni fixxa;
 xoofoo sana ni caccabsita;
 harma kee of irraa ciccirta.
Ani waan kana dubbadheera, jedha WAAQAYYO Gooftaan.

35 "Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ati waan na irraanfattee duubatti
na gatteef gatii addaggummaa keetiitii fi sagaagalummaa keetii ni argatta."

36 WAAQAYYO akkana naan jedhe: "Yaa ilma namaa, ati Oholaa fi Oholiibaatti ni
murtaa? Yoos hojii isaanii jibbisiisaa sana isaanitti himi; 37 isaan sagaagalaniiru;
dhiigni harka isaanii irra jira. Isaan waaqota isaanii tolfamoo wajjin sagaagalaniiru;
isaan ijoollee naaf da'an iyyuu nyaata godhanii isaaniif aarsaa dhi'eessaniiru.
38 Dabalaniis waan kana narratti raawwatan: Yeruma sana iddoo koo qulqulluu
xureessan; Sanbatoota koos ni salphisan. 39 Gaafuma ijoollee isaanii waaqota
tolfamoof aarsaa godhanitti iddoo koo qulqulluu seenanii xureessan. Wanni isaan
mana koo keessatti godhan kanaa dha.

40 "Akka namoonni biyya fagootii dhufaniif ergamoota itti ergan; isaanis ni dhufan;
yommuu isaan dhufanittis ati dhagna kee dhiqattee, ija kee kuulattee faaya kee
kaa'atte. 41 Ati siree ulfinaa irra teesse; fuula siree sanaa dura minjaala keesse;
minjaala sana irras ixaana kootii fi zayitii koo keesse.

42 "Wacni fandalaltootaa naannoo isheetti dhaga'ame; machooftonni namoota
wacan sana wajjin gammoojjiidhaa dhufanis achi turan; isaanis irree dubartii
sanaattii fi kan obboleettii isheetti bitawoo, mataa isaaniitti immoo gonfoo miidhagaa
kaa'aniif. 43 Anis, 'Namoonni yeroo ishee wajjin sagaagalanitti isaan amma ejja
hojjechuu isaaniitii mitii?' nan jedhe. 44 Jarris ishee wajjin ciisan. Isaanis akkuma
namoonni sagaagaltoota wajjin ciisan sana Oholaa fi Oholiibaa addaggeewwan sana
wajjin ciisan. 45 Sababii isaan ejjitoota ta'anii fi dhiigni harka isaanii irratti argameef,
namoonni qajeeltonni adabbii dubartoota ejjitootaa fi dhiiga dhangalaasaniif malu
isaanitti muru.

46 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani jeeqxota itti nan kakaasa; raafamaa fi
saamichaaf dabarsee isaan nan kenna. 47 Jeeqxonni sunis dhagaan isaan tumanii
goraadee isaaniitiin isaan kukkutu; ilmaan isaaniitii fi intallan isaanii fixanii
manneen isaanii immoo ni gubu.

[48] "Kanaafuu akka dubartoonni hundi of eeggatanii fi isin duukaa hin buuneef ani
biyyattii keessaa addaggummaa nan balleessa. [49] Isin addaggummaa keessaniif ni
adabamtu; gatii cubbuu keessan kan waaqota tolfamoo waaqessuudhaan hojjettan
sanaa ni argattu. Ergasiis akka ani WAAQAYYO Gooftaa ta'e ni beektu."

# 24

*Okkotee Itti Affeelan*

[1] Waggaa saglaffaa, ji'a kurnaffaa keessa bultii kurnaffaatti; dubbiin WAAQAYYOO
akkana jedhee gara koo dhufe: [2] "Yaa ilma namaa guyyaa kana, guyyaa har'aa kana
galmeeffadhu; mootiin Baabilon guyyaa har'aa kana Yerusaalemin marseeraatii.
[3] Mana fincilaa kanatti akkana jedhii fakkeenya himi: 'WAAQAYYO Gooftaan akkana
jedha:

" 'Okkotee itti affeelan ibidda irra kaa'i;
ibidda irra kaa'iitii bishaan itti naqi.
[4] Foon murmuramaa, foon murmuramaa filatamaa hunda
jechuunis tafaa fi cinaacha itti naqi.
Lafeewwan filatamoodhaanis isa guuti;
[5] bushaayee keessaa filatamaa isaa fuudhi.
Lafee bilcheessuudhaaf okkotee sana jala qoraan naqi;
akka gaariitti affeeli;
lafee isaas bilcheessi.

[6] " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii:
" 'Magaalaa dhiiga namaa dhangalaaftuuf,
okkotee xuriin itti qabatee
xuriin sun irraa hin ba'iniif wayyoo!
Utuu ixaa hin buusin
gumaa gumaa isaa keessaa fuudhii duwwaa hambisi.

[7] " 'Dhiigni isheen dhangalaafte ishee keessa jiraatii;
isheen kattaa qulullaa'aa irratti dhiiga sana dhangalaafte;
isheen dhiiga sanatti biyyoo deebisuuf
lafatti hin dhangalaafne.
[8] Ani dheekkamsa koo kakaasee haaloo ba'uuf jedhee
akka dhiigni sun hin haguugamneef
dhiiga ishee kattaa qulullaa'aa irratti nan dhangalaase.

[9] " 'Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
" 'Magaalaa dhiiga dhangalaaftu sanaaf wayyoo!
Anis qoraan ibiddaa nan tuula.
[10] Qoraan irra tuuli;
ibiddas itti qabsiisi.
Urgooftuu itti naqiitii
foon isaa akka gaariitti affeeli;
lafeen isaas haa gubamu.
[11] Ergasii akka xuriin isaa irraa baqee
wanni irratti ligidaa'e gubatee baduuf,
hamma inni ho'ee sibiilli diimaan isaa baqutti,
okkotee duwwaa sana cilee boba'u irra kaa'i.
[12] Yaaliin godhame hundi akkasumaan hafe;

ligidaa’uun isaas
ibiddaan iyyuu gad hin dhiifne.
13 “ ‘Xuraa’ummaan kee addaggummaa dha. Ani si qulqulleessuu yaaleera; ati
garuu xuraa’ummaa kee irraa hin qulqulloofne; hamma dheekkamsi koo sirraa
deebi’utti ati lammata hin qulqullooftu.

14 “ ‘Ani WAAQAYYO dubbadheera. Yeroon ani itti hojjedhu naaf dhufeera. Ani
duubatti hin deebi’u; ani garaa hin laafu yookaan hin gaabbu. Akkuma amala
keetiittii fi hojii keetiitti sitti murama, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

*Niitiin Hisqi’eel Du’uu Ishee*

15 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 16 “Yaa ilma namaa,
ani waan iji kee itti gammadu dha’icha tokkoon si duraa nan fuudha. Ta’us ati hin
gaddin yookaan hin boo’in yookaan imimmaan tokko iyyuu hin dhangalaasin. 17 Of
keessatti aadi; nama du’eef hin boo’in. Marata kee maradhu; kophee kees miilla
keetti kaa’adhu; fuula kee gara gadiitiin hin haguuggatin yookaan buddeena warra
gaddaa hin nyaatin.”
18 Kanaafuu ani ganamaan sabatti nan hime; niitiin koos galgala duute. Guyyaa itti
aanu ganama ani akkuman ajajame sana nan godhe.
19 Namoonnis, “Waan kana gochuun kee hiikkaa maalii akka nuuf qabu ati nutti
hin himtuu?” jedhanii na gaafatan.
20 Anis akkanan isaaniin jedhe; “Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo
dhufe: 21 Mana Israa’eliin akkana jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani
iddoo koo qulqulluu jechuunis da’annoo isin ittiin boontan, waan iji keessan itti
gammadu, waan isin jaallattan sana nan xureessa. Ilmaanii fi intallan keessan
kanneen isin dhiiftanii deemtan immoo goraadeedhaan ni dhumu. 22 Isinis
akkuma ani godhe sana gootu. Fuula keessan gara gadiitiin hin haguuggattan
yookaan buddeena warra gaddaa hin nyaattu. 23 Maranni keessan mataa keessan
irra, kopheen keessan immoo miilla keessan irra haa turu. Isin sababii cubbuu
keessaniitiif ni huqqattan; walii wajjinis ni aaddu malee hin gadditan yookaan hin
boossan. 24 Hisqi’eel mallattoo isiniif ta’a; isinis akkuma inni godhe sana ni gootan.
Yeroo wanni kun ta’utti isin akka ani WAAQAYYO Gooftaa ta’e ni beektu.’
25 “Yaa ilma namaa, gaafa ani da’annoo isaanii, gammachuu fi ulfina isaanii, waan
iji isaanii itti gammadu, waan garaan isaanii hawwuu fi ilmaanii fi intallan isaanii
fudhadhutti, 26 gaafas namni miliqee ba’e tokko dhufee oduu sitti hima. 27 Gaafas
afaan kee ni banama; atis isa wajjin ni haasofta; ergasii hin cal’istu. Kanaafuu ati
isaaniif mallattoo ni taata; isaanis akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.”

# 25

*Raajii Amooniin Mormuudhaan Dubbatame*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma
namaa, fuula kee gara Amoonotaatti garagalfadhuutii isaaniin mormuudhaan raaji.
3 Akkanas isaaniin jedhi; ‘Dubbii WAAQAYYO Gooftaa dhaga’aa. WAAQAYYO Gooftaan
akkana jedha: Yeroo iddoon koo qulqulluun xureeffametti, yeroo biyyi Israa’el
onetti, yeroo uummanni Yihuudaa booji’amee fudhatametti, “Baga!” jettaniirtuutii;
4 kanaafuu ani saba ba’a biiftuutti handhuuraa godheen dabarsee isin kenna. Isaan
gidduu keessanitti qubata hundeeffatanii dunkaana isaanii ni dhaabbatu; isaan
midhaan keessan nyaatu; aannan keessanis ni dhugu. 5 Magaalaa Rabbaa iddoo
gaalli dheedu, Amoon immoo iddoo hoolaan boqotu nan godha. Ergasiis isin akka
ani WAAQAYYO ta’e ni beektu. 6 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii: Isin jal’ina

garaa keessaniitiin badiisa biyya Israa’elitti gammaduudhaan harka keessan walitti
rurrukuttanii miilla keessaniin lafa dhidhiittaniirtuutii; 7 kanaafuu ani harka koo
isinitti diriirfadhee boojuuf dabarsee sabootatti isinan kenna. Ani saboota irraa isin
kutee biyyoota keessaa isinan balleessa. Ani isinan barbadeessa; isinis akka ani
WAAQAYYO ta’e ni beektu.’ ”

### *Raajii Mo’aabiin Mormuudhaan Dubbatame*

8 “WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: ‘Mo’aabii fi See’iir, “Kunoo manni Yihuudaa
akkuma saboota biraa hundaa ta’e” jedhaniiruutii; 9 kanaafuu magaalaawwan
daangaa biyyattii irra jiran kanneen ishee kabajamsiisan jechuunis Beet Yashiimooti,
Ba’aal Me’oonii fi Kiriyaataayimii jalqabee hamma Mo’aabitti jiran qullaa nan
hambisa. 10 Ani akka Amoononni saboota gidduutti hin yaadatamneef Mo’aabotaa
fi Amoonota handhuuraa godhee uummata ba’aatti nan kenna; 11 anis Mo’aabin nan
adaba. Ergasii isaan akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.’ ”

### *Raajii Edoomiin Mormuudhaan Dubbatame*

12 “WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: ‘Sababii Edoom mana Yihuudaatti haaloo
ba’ee waan kana gochuudhaan yakka guddaa hojjeteef, 13 WAAQAYYO Gooftaan akkana
jedha: Ani Edoomitti harka koo diriirfadhee namoota isheetii fi horii isaanii nan fixa.
Ani ishee nan onsa; isaanis Teemaanii hamma Dedaaniitti goraadeedhaan ni dhumu.
14 Ani harka saba koo Israa’eliin Edoomitti haaloo nan ba’a; isaanis akkuma aarii fi
dheekkamsa kootiitti Edoomin adabu; Edoomis haaloo baafachuu koo ni beekti, jedha
WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

### *Raajii Filisxeemiin Mormuudhaan Dubbatame*

15 “WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: ‘Sababii Filisxeemonni didhaan kaka’anii
garaa hamminaatiin haaloo ba’anii fi sababii isaan diinummaa duriitiin Yihuudaa
balleessuu barbaadaniif, 16 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani harka koo
diriirfadhee Filisxeemota nan balleessa; Kereetota nan balleessa; warra qarqara
galaanaatti hafan nan barbadeessa. 17 Ani haaloo guddaa isaanitti ba’ee dheekkamsa
kootiin isaan nan adaba. Yeroo ani haaloo isaan ba’utti isaan akka ani WAAQAYYO
ta’e ni beeku.’ ”

## 26

### *Raajii Xiiroosiin Mormuudhaan Dubbatame*

1 Waggaa kudha tokkoffaatti, ji’a sana keessaa guyyaa jalqabaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa, Xiiroos waa’ee
Yerusaalem, ‘Baga! Karri sabootaa cabeera; balbalawwan ishees naaf banamaniiru;
egaa amma waan isheen onteef ani nan sooroma’ jetteertii; 3 kanaafuu WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha: Yaa Xiiroos, kunoo ani sitti ka’eera; akkuma galaanni
dambalii isaa kaasu sana anis saboota baay’ee sitti nan kaasa. 4 Isaan dallaa Xiiroos
ni diigu; gamoo ishees ni jigsu; ani biyyoo ishee irraa haxaa’ee kattaa qullaa hafe
ishee nan godha. 5 Isheen galaana keessatti iddoo itti kiyyoo qurxummii diriirsan ni
taati; ani dubbadheeraatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan. Isheen sabootaaf boojuu taati;
6 intallan ishee kanneen walakkaa biyyaa jiranis goraadeedhaan ajjeefamu. Ergasii
isaan akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.
7 “WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii: Ani karaa kaabaatii Nebukadnezar
mooticha Baabilon, mootii moototaa sana fardeenii fi gaariiwwan wajjin, abbootii
fardaatii fi raayyaa waraanaa guddaa isaa wajjin Xiiroositti nan fida. 8 Innis intallan
kee kanneen biyya walakkaa jiran goraadeedhaan fixa; dallaa ittiin si marsu ijaarrata;
hamma dallaa keetiitti biyyoo ol tuula; gaachana isaas sitti ol kaafata. 9 Innis jirma
ittiin waa diigan dallaa keetti garagalfata; gamoowwan kees mi’a lolaatiin diiga.

10 Fardeen isaas hamma awwaaraan si haguuguu danda'anitti gar malee baay'ee ta'u.
Yeroo inni akkuma namoota magaalaa dallaan ishee diigame seenaniitti karrawwan
keetiin ol seenutti dallaan kee didichuu fardeen waraanaatiin, kan gaariiwwan
waraanaatii fi kan gaariiwwan kaaniitiin ni raafama. 11 Kotteewwan fardeen isaa
daandiiwwan kee hunda ni dhidhiitu; innis namoota kee goraadeedhaan ajjeesa;
utubaawwan kee jajjaboonis ni jigu. 12 Isaan qabeenya kee booji'u; mi'a kee kan
daldalaa ni saamu; dallaa kee ni jigsu; manneen kee mimmiidhagoo ni diigu; dhagaa
kee, jirmaa fi biyyoo kee galaanatti naqu. 13 Ani sirba kee nan hambisa; sagaleen
baganaa keetii si'achi hin dhaga'amu. 14 Ani kattaa qullaa hafe si taasisa; atis iddoo
itti kiyyoo qurxummii diriirsan taata. Ati gonkumaa deebifamtee hin ijaaramtu; ani
WAAQAYYO dubbadheeraatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
15 "WAAQAYYO Gooftaan Xiiroosiin akkana jedha: Yeroo warri madaa'an aadanii
fi yeroo namni si keessatti qalamutti biyyoonni qarqara galaanaa sagalee jiguu
keetiitiin hin hollatanii? 16 Ilmaan moototaa kanneen qarqara galaanaa jiraatan
hundi teessoo isaanii irraa ni bu'u; uffata isaanii lafa kaa'u; wayyaa isaanii kan
faayeffames of irraa baasu. Isaan sodaadhaan guutamanii daaraa irra taa'anii utuu
addaan hin kutin waan sirra ga'e sanaan naasuudhaan hollatu. 17 Isaanis waa'ee
keetiif akkana jedhanii faarsanii siif boo'u:
" 'Yaa magaalaa beekamtuu,
kan namoota galaanaatiin guutamte ati akkamitti barbadoofte!
Ati lammiiwwan kee wajjin
galaana irratti irree jabeettii turte;
warra achi jiraatan hundas
sodaa keetiin guutte.
18 Gaafa ati jigdutti,
biyyoonni qarqara galaanaa ni hollatu;
jigaatii keetiinis biyyoonni bishaan gidduu
kanneen galaanaan marfaman akka malee sodaatan.'
19 "WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yommuu ani akka magaalaawwan namni
keessa hin jiraannee magaalaa onte si taasisutti, yommuu ani tujuba sirra garagalchee
bishaan guddaadhaan si haguugutti, 20 ani gara namoota duriitti, warra boolla bu'an
wajjin boolla sin buusa. Ani akkuma diigama duriitti, warra boolla bu'an wajjin
akka ati lafa jala jiraattu sin godha; atis lammata hin deebitu yookaan biyya warra
lubbuun jiranii keessatti iddoo hin argattu. 21 Anis dhuma kee suukaneessaa nan
godha; atis si'achi hin jiraattu. Ati ni barbaadamta; garuu si'achi hin argamtu, jedha
WAAQAYYO Gooftaan."

# 27

*Faaruu Boo'ichaa Xiiroosiif Godhame*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
waa'ee Xiiroos faarsii boo'i. 3 Xiiroos ishee balbala galaanaa irra jiraattu, kan
uummata qarqara galaanaa hundaaf daldaltuu taate sanaan akkana jedhi; 'WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha:
" 'Yaa Xiiroos,
ati, "Ani bareedinaan hir'ina hin qabu" jetta.
4 Daangaan kee garaa galaanaa keessa;
warri si ijaaran bareedduu hir'ina hin qabne si taasisaniiru.
5 Isaan laaxaa doonii keetii
birbirsa Seniirii dhufeen hojjetan;
utubaa doonii siif tolchuufis

Libaanoonii birbirsa fidan.
6 Qilxuu Baashaanii dhufeen
batoo kee hojjetan;
muka birbirsaa kan qarqara Qophiroosiitii dhufeen
lafa doonii keessaa ilka arbaatiin
miidhagsanii siif hojjetan.
7 Sharaan doonii keetii quncee talbaa
kan miidhagfamee biyya Gibxii dhufe ture;
innis akka faajjiitti si fayyade;
haguuggiin kees bifa cuquliisaa fi diimaa dhiilgee
kan qarqara Eliishaatii dhufe ture.
8 Mooqxonni kee namoota Siidoonaa fi Arwaadii dhufan turan;
yaa Xiiroos hayyoonni kee ooftota doonii keetii turan.
9 Ogeeyyiin Gebaal kanneen muuxannoo guddaa qaban,
qaawwa doonii keetii duuchuuf si gidduu turan.
Dooniiwwan galaanaatii fi ooftonni isaanii hundi,
si wajjin daldaluuf gara kee dhufu turan.

10 “ ‘Namoonni Faaresi, kan Luudii fi kan Fuuxii,
loltummaadhaan loltoota kee gidduu tajaajilan.
Isaanis si miidhagsuuf gaachanawwan isaanii fi
gonfoo isaanii si keessatti fannisan.
11 Namoonni Arwaadii fi Heeleekii
dallaa kee qixa hundaan eegan;
namoonni Gamaadii
gamoowwan kee keessa turan.
Gaachana isaaniis naannessanii dallaa keetti fannisan;
isaan bareedduu hanqina hin qabne si taasisan.
12 “ ‘Sababii guddina qabeenya keetiitiif Tarshiish si wajjin daldalaa turte; isaan
meetii, sibiila, qorqorroo fi dilaalii fidanii si wajjin wal geeddaraa daldalaa turan.
13 “ ‘Giriik, Tuubaalii fi Meshek si wajjin daldalan; isaanis mi’oota gurguraa keetiin
garbootaa fi mi’oota naasii geeddaru turan.
14 “ ‘Namoonni Beet Toogarmaa immoo fardeen fe’iisaa, fardeen lolaatii fi gaangoli-
idhaan mi’a kee kan daldalaa geeddaratu ture.
15 “ ‘Namoonni Dedaanii si wajjin daldalan; biyyoonni qarqara galaanaa baay’eenis
maamiloota kee turan; isaanis ilka arbaatii fi muka harsammeessaa siif baasan.
16 “ ‘Sababii ati oomisha guddaa qabduuf Sooriyaan si wajjin daldalti ture; isaanis
maragdiin, uffata diimaa dhiilgeen, wayyaa faayeffameen, uffata quncee talbaa
irraa hojjetame haphii isaatiin, elellaanii fi lula diimaadhaan mi’oota kee daldalaa
geeddaratan.
17 “ ‘Yihuudaa fi Israa’elis si wajjin daldalan; isaanis qamadii biyya Miiniiti,
Maxinoo mi’aawaa, damma, zayitii fi baalmiin mi’a daldalaa kee geeddaratan.
18 “ ‘Sababii oomisha kee hedduutii fi qabeenya mi’a kee guddaa sanaatiif
Damaasqoon daadhii wayinii Helbooniitii fi rifeensa hoolaa Zaahariitiin si wajjin
daldalteerti. 19 Warri Daanii fi Yaawaan kanneen Oseelii dhufan mi’a daldalaa
kee bitatan; isaanis sibiila baqfamee hojjetameen burgudii fi qarafaadhaan mi’oota
daldalaa kee ni geeddarratu ture.
20 “ ‘Dedaan immoo uffata kooraa si wajjin daldalte.
21 “ ‘Biyyi Arabaatii fi ilmaan mootota Qeedaar hundi maamiloota kee turan. Isaanis
xobbaallaa hoolaa, korbeeyyii hoolaatii fi re’oota si wajjin daldalu turan.

22 “ ‘Daldaltoonni Shebaatii fi Ra’imaa si wajjin daldalaniiru; urgooftuuwwan
gosa hundaa, dhagaawwan gati jabeeyyii fi warqeedhaan mi’oota daldalaa kee
geeddarataniiru.
23 “ ‘Kaaraan, Kaneen, Eden, daldaltoonni Shebaa, Ashuurii fi Kilmaad si wajjin
daldalaa turan. 24 Isaan iddoo gabaa keetii keessatti uffata mimmiidhagaa, uffata
bifa cuquliisaa, uffata faayeffamee fi afaa halluu garaa garaa kan kirrii micciiramee
jabeeffamee dha’ameen daldalan.
25 “ ‘Dooniiwwan Tarshiish,
mi’oota kee kan daldalaa siif fe’an.
Ati walakkaa galaanaatti
fe’iisa ulfaataadhaan guutamteerta.
26 Mooqxonni kee,
gara galaana guddaatti si geessan.
Bubbeen ba’a biiftuu garuu
galaana walakkaatti si caccabsa.
27 Gaafa dooniin kee caccabutti
qabeenyi kee, meeshaan keetii fi mi’i daldalaa kee,
namoonni kee kanneen dooniidhaan hojjetan,
ooftonni dooniitii fi warri doonii haaromsan,
daldaltoonni keetii fi loltoonni kee hundi
namni doonii irra jiru biraa hundi
garaa galaanaa keessatti gad liqimfamu.
28 Yeroo ooftonni doonii keetii iyyanitti
biyyoonni qarqara galaanaa ni raafamu.
29 Warri batoo qabatan hundi,
warri doonii irra hojjetanii fi ooftonni doonii,
doonii isaanii irraa bu’anii
qarqara galaanaa dhaabatu.
30 Isaanis sagalee isaanii ol fudhatanii
hiqqifatanii siif boo’u;
mataa isaaniittis awwaara firfirsanii
daaraa keessa gangalatu.
31 Waa’ee keetiifis mataa haaddatanii
wayyaa gaddaa uffatu.
Lubbuu isaaniitiin akka malee hiqqifatanii
gadda guddaadhaan ni boo’u.
32 Isaanis yeroo wawwaatanii siif boo’anitti,
“Kan akka Xiiroos
galaanaan liqimfamee bade eenyu?”
jedhanii faaruu boo’ichaa siif faarsu.
33 Yeroo mi’i daldalaa kee galaana irra ergamutti,
ati saboota hedduu quufsite;
qabeenya kee guddaa fi mi’a keetiin
moototа lafaa sooromsite.
34 Amma immoo ati galaana keessatti,
tujuba bishaanii keessatti caccabdeerta;
mi’oonni keetii fi miiltonni kee hundi
suma wajjin liqimfamaniiru.
35 Warri qarqara galaanaa jiraatan hundi
waa’ee keetiin rifataniiru;
mootonni isaanii sodaadhaan hollatanii
fuulli isaaniis naasuudhaan geeddarameera.

36 Daldaltoonni saboota gidduu jiran sitti siiqsu;
dhumni kee suukaneessaa ta’eera;
ati si’achi bara baraan ni dhabamta.’ ”

# 28

*Raajii Mootii Xiiroosiin Mormuudhaan Dubbatame*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa,
bulchaa Xiiroosiin akkana jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“ ‘Ati of tuulummaa garaa keetiitiin,
“Ani waaqa;
ani handhuura galaanaa keessa,
teessoo waaqaa irra nan taa’a” jette.
Qaroo akka waaqaa of seetu iyyuu,
ati nama malee waaqa miti.
3 Ati Daani’el caalaa ogeessaa?
Icciitiin tokko iyyuu si jalaa hin dhokatuu?
4 Ati ogummaa fi hubannaa keetiin
qabeenya argatteerta;
warqee fi meetii
mankuusaa kee keessatti kuufatteerta.
5 Ati ogummaa guddaa daldala keessatti qabduun
qabeenya kee baay’ifatteerta;
sababii qabeenya keetiitiif immoo
garaan kee of tuulummaadhaan guutameera.
6 “ ‘Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“ ‘Sababii ati qaroo akka waaqaa
of seetuuf,
7 ani namoota biyya ormaa
saboota akka malee gara jabeeyyii sitti nan fida;
isaan goraadee isaanii miidhagina keetii fi ogummaa keetti luqqifatanii
ulfina kee guddaa sana balleessu.
8 Isaan boolla keessa si buusu;
atis garaa galaanaa keessatti
du’a hamaa duuta.
9 Yoos ati fuula warra si ajjeesanii duratti,
“Ani waaqa” ni jettaa?
Ati harka warra si gorra’anii keessatti
namuma malee waaqa miti.
10 Ati harka namoota biyya ormaatti
du’a nama dhagna hin qabatinii duuta.
Ani dubbadheera, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

11 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 12 “Yaa ilma namaa, waa’ee
mootii Xiiroos faarsii boo’iitii akkana jedhiin: ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“ ‘Ati fakkeenya guutummaa ti;
ogummaadhaan guutamteerta; miidhaginaanis hir’ina hin qabdu.
13 Ati iddoo biqiltuu Waaqaa,
Eeden keessa turte;
dhagaawwan gati jabeeyyiin hundi si bareechu; isaanis:
lula diimaa, tophaaziyoon, almaazii fi maragdi,
kirisooliixoos, sardooniksii fi yaasphiidi,

sanpeer, baluurii fi biiralee.
Diranni keetii fi faayni kee warqee irraa tolfaman;
isaanis guyyaa ati uumamte qopheeffaman.
14 Ati Kiirubii waa eegu taatee dibamte;
anis kanumaafan si muude.
Ati tulluu Waaqaa qulqullicha sana irra jiraatte;
dhagaawwan ibiddaa gidduus deddeebite.
15 Ati gaafa uumamtee jalqabdee
hamma gaafa hamminni si keessatti argameetti
jireenyi kee hir'ina hin qabu ture.
16 Babal'ina daldala keetiitiin
gooliidhaan guutamtee cubbuu hojjette.
Kanaafuu yaa kiirubii eegumsaa,
ani tulluu Waaqaa irraa
dhagaawwan ibiddaa gidduudhaa
si salphisee ari'een si baase.
17 Sababii miidhagina keetiitiif,
ati koorteerta;
sababii ulfina keetiitiif,
ogummaa kee balleessite.
Kanaafuu ani gara lafaattan si darbadhe;
fuula moototaa durattis waan kolfaa si godhe.
18 Ati cubbuu kee hedduu fi shaqqaba daldala keetiitiin
iddoowwan kee qulqulluu xureessiteerta.
Kanaafuu ani akka ibiddi si keessaa ba'u nan godhe;
innis gubee si fixe;
anis fuula namoota si ilaalaa turan hundaa duratti
lafa irratti daaraan si taasise.
19 Saboonni si beekan hundinuu
si arganii rifatan;
dhumni kee suukaneessaa ta'eera;
ati si'achi bara baraan ni dhabamta.' "

### *Raajii Siidoonaadhaan Mormuudhaan dubbatame*

20 Ergasii dubbiin Waaqayyoo akkana jedhee gara koo dhufe; 21 "Yaa ilma namaa,
fuula kee Siidoonaatti garagalfadhuutii isheedhaan mormuudhaan raajii dubbadhu;
22 akkanas jedhi: 'Waaqayyo Gooftaan akkana jedha:
" 'Yaa Siidoonaa, ani sitti ka'eera;
si keessatti ulfina nan argadha.
Yeroo ani ishee adabee
akka ani qulqulluu ta'e ishee keessatti of argisiisuutti,
isaan akka ani Waaqayyo ta'e ni beeku.
23 Ani dha'icha isheetti ergee
akka daandii ishee irra dhiigni lola'u nan godha.
Namoonni goraadee karaa hundaan
ishee marseen gorra'aman ishee keessatti ni harca'u.
Ergasiis isaan akka ani Waaqayyo ta'e ni beeku.
24 " 'Sabni Israa'el si'achi olloota hamoo akka sokorruu nama waraananii akka
qoraattii immoo nama madeessan hin qabaatu. Ergasiis isaan akka ani Waaqayyo
Gooftaa ta'e ni beeku.
25 " 'Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Yeroo ani mana Israa'el saboota isaan
keessa bibittinnaa'an keessaa walitti qabutti, ani akkan isaan gidduutti qulqulluu

ta’e fuula sabootaa duratti of nan argisiisa. Ergasii isaan biyya ofii isaanii kan ani
garbicha koo Yaaqoobiif kenne sana keessa ni jiraatu. 26 Isaan nagaadhaan achi
jiraatanii manneen ijaarratanii wayiniis dhaabbatu; yeroo ani olloota isaanii kanneen
isaan cunqursan adabutti, isaan nagumaan jiraatu. Ergasii isaan akka ani WAAQAYYO
Waaqa isaanii ta’e ni beeku.’ ”

# 29

*Raajii Gibxiin Mormuudhaan Dubbatame*

1 Waggaa kurnaffaatti, ji’a kurnaffaa keessa, guyyaa kudha lammaffaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa, fuula kee gara
Fara’oon mooticha Gibxitti garagalfadhuutii isaa fi warra Gibxi hundaan mormuud-
haan raajii dubbadhu. 3 Isatti dubbadhuutii akkana jedhiin: ‘WAAQAYYO Gooftaan
akkana jedha:

“ ‘Ati bineensi guddichi, kan lageen kee gidduu ciiftu,
yaa Fara’oon mooticha Gibxi, ani sitti nan ka’a.
Ati, “Lagni Abbayyaa kan koo ti;
anatu ofuma kootiif isa uummate” jetta.
4 Ani garuu ha’oo kee keessa hokkoo kaa’ee
akka qurxummiiwwan lageen keetii qola keetti maxxanan nan godha.
Ani qurxummiiwwan qola keetti maxxanan hunda wajjinis
lageen kee keessaa harkiseen si baasa.
5 Si’ii fi qurxummiiwwan lageen keetii hunda
gammoojjiitti nan gata.
Ati dirree duwwaa irratti ni kufta;
walitti hin qabamtu; hin awwaalamtus.
Ani bineensota lafaatii fi allaattii samiitiif
nyaata godheen si kenna.
6 Warri Gibxi keessa jiraatan hundis akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.

“ ‘Ati mana Israa’eliif ulee shambaqqoo taateerta. 7 Yommuu isaan harkaan si
qabatanitti baqaqxee gatiittii isaanii waraante; yommuu isaan sitti irkatanittis ati
caccabdee akka dugdi isaanii hollatu goote.

8 “ ‘Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani goraadee sitti fidee namoota
keetii fi horii isaanii nan fixa. 9 Gibxi duwwaa fi ona taati; isaanis akka ani WAAQAYYO
ta’e ni beeku.

“ ‘Ati, “Lagni Abbayyaa kan koo ti; anatu isa uume” jetteertaatii; 10 kanaafuu
ani sitti ka’eera; lageen keettis ka’eera; biyya Gibxis Migdoolii jalqabee hamma
Aswaanitti, hamma daarii Itoophiyaatti diigamtuu fi ontuu nan godha. 11 Miilli namaa
yookaan kotteen horii karaa sana hin darbu; namni tokko iyyuu hamma waggaa
afurtamaatti ishee keessa hin jiraatu. 12 Ani biyyoota onan gidduutti biyya Gibxi nan
onsa; magaalaawwan ishees magaalaawwan diigaman gidduutti waggaa afurtama ni
onu. Namoota Gibxi immoo saboota keessa nan faffacaasa; biyyoota keessas isaan
nan bittinneessa.

13 “ ‘Ammas WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Dhuma waggaa afurtamaatti ani
namoota Gibxi saboota isaan itti bittinneeffaman keessaa walitti nan qaba. 14 Ani
boojuudhaa isaan deebisee Phaxroos biyya abbootii isaaniitti isaan nan galcha.
Achittis isaan mootummaa gad aanaa ni ta’u. 15 Isheenis mootummoota keessaa gad
aantuu ni taati; deebitees saboota kaaniin olitti gonkumaa ol of hin kaaftu. Anis
akka isheen lammata saboota kaan hin bulchineef ishee nan dadhabsiisa. 16 Biyyi
Gibxi si’achi uummata Israa’eliif irkoo hin taatu; yoo isaan gargaarsaaf gara isheetti

deebi'an garuu isheen yaadannoo cubbuu isaanii taati. Ergasii isaan akka ani
WAAQAYYO Gooftaa ta'e ni beeku.' "
17 Waggaa digdamii torbaffaatti, ji'a tokkoffaa keessa, guyyaa tokkoffaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 18 "Yaa ilma namaa, Nebukadnezar
mootiin Baabilon duula jabaadhaan loltoota isaa Xiiroositti kaaseera; mataan nama
hundaa molaa'eera; gatiittiin nama hundaas luqqa'eera. Ta'us innii fi loltoonni
isaa duula jabaa Xiiroositti kaasaniin bu'aa tokko illee hin arganne. 19 Kanaafuu
WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani biyya Gibxi Nebukadnezar mootii Baabiloniif
nan kenna; innis ishee booji'ee qabeenya ishee saama. Kunis mindaa loltoota isaa
ta'a. 20 Ani Gibxiin gatii dadhabbii isaa godhee isaaf kenneera; innii fi loltoonni isaa
waan kana anaaf hojjetaniiruutii, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
21 "Ani Guyyaa sana akka manni Israa'el gaanfa baasu nan godha; isaan gidduuttis
afaan kee nan saaqa. Isaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku."

# 30

*Faaruu Boo'ichaa Gibxiif Faarsame*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa
raaji; akkanas jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
" 'Wawwaadhuutii akkana jedhi;
"Guyyaa sanaaf wayyoo!"
3 Guyyaan sun dhi'oo dha;
Guyyaan WAAQAYYOO dhi'oo dha;
innis guyyaa duumessaa,
sabootaaf immoo yeroo badiisaa ni ta'a.
4 Gibxitti goraadeen ni dhufa;
Itoophiyaatti immoo dhiphinni ni dhufa.
Yommuu warri qalaman Gibxi keessatti kukkufanitti,
qabeenyi ishee saamamee fudhatama;
hundeewwan ishee immoo ni diigamu.
5 Itoophiyaa fi Fuuxi, Luudii fi biyyi Arabaa hundi, Liibiyaa fi uummanni biyya kakuu
Gibxi wajjin goraadeedhaan ni dhumu.
6 " 'WAAQAYYO akkana jedha:
" 'Tumsitoonni Gibxi ni kufu;
humni isheen ittiin boontu ni dadhaba.
Migdoolii hamma Aswaanitti,
isaan ishee keessatti goraadeedhaan ni dhumu,
jedha WAAQAYYO Gooftaan.
7 Isaan biyyoota onan gidduutti, onanii hafu;
magaalaawwan isaaniis
magaalaawwan diigaman
gidduutti argamu.
8 Yommuu ani Gibxitti ibidda qabsiisee
warri ishee gargaaran hundi barbadaa'anitti,
isaan akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku.
9 " 'Gaafas namoota Itoophiyaa kanneen yaaddoo malee jiraatan sodaachisuuf,
ergamoonni dooniidhaan na biraa ni ba'u. Guyyaa badiisa Gibxitti dhiphinni isaan
qabata; wanni kun dhugumaan ni dhufaatii.

10 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
" 'Ani harka Nebukadnezar mooticha Baabiloniin

namoota Gibxi hedduu nan barbadeessa.
11 Innii fi loltoonni isaa kanneen saboota keessaa
akka malee hamoo ta'an,
akka biyyattii balleessaniif ni fidamu.
Isaanis goraadee isaanii Gibxitti luqqifatanii
reeffaan biyyattii guutu.
12 Ani bishaan Abbayyaa nan gogsa;
biyyattiis namoota hamootti nan gurgura;
harka alagootaatiin biyyattii fi
waan ishee keessa jiru hunda nan onsa.
Ani WAAQAYYO dubbadheera.

13 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
" 'Ani waaqota tolfamoo nan balleessa;
fakkiiwwan Memfiis keessa jiranis nan facaasa.
Si'achi Gibxi keessatti bulchaan hin argamu;
biyyattii guutuu keessas sodaa nan buusa.
14 Phaxroosin nan onsa;
Zoo'aanitti ibidda nan qabsiisa;
Tebesiin immoo nan adaba.
15 Da'annoo Gibxi jabaa jechuunis
Siin irratti dheekkamsa koo nan dhangalaasa;
uummata Tebesi hedduu sana illee nan balleessa.
16 Ani Gibxitti ibidda nan qabsiisa;
Siin dhiphinaan raafamti.
Tebesi dambaliidhaan ni fudhatamti;
Memfiis dhiphina wal irraa hin cinneen ni dhiphatti.
17 Dargaggoonni Aawwenii fi
Phii-Beseti goraadeedhaan dhumu;
magaalaawwan mataan isaanii iyyuu ni booji'amu.
18 Yommuu ani waanjoo Gibxi cabsutti,
Tahiphaanheesitti guyyaan ni dukkanaa'a;
humni isheen ittiin boontus ni laafa.
Isheen hurriidhaan haguugamti;
gandoonni ishee immoo ni booji'amu.
19 Kanaafuu ani Gibxiin nan adaba;
isaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku.' "
20 Waggaa kudha tokkoffaatti, ji'a tokkoffaa keessa, guyyaa torbaffaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 21 "Yaa ilma namaa, ani irree Fara'oon
mooticha Gibxi cabseera. Inni akka fayyuuf hin hidhamne yookaan shambaqqoon
hidhamee akka jabaatee goraadee qabachuu danda'u hin godhamne. 22 Kanaafuu
WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani Fara'oon mooticha Gibxitti ka'eera. Ani irree
isaa lachanuu, isa fayyaa, isa cabe sana illee cabsee akka goraadeen harka isaatii
bu'u nan godha. 23 Ani namoota Gibxi saboota gidduutti nan faffacaasa; biyyoota
keessas isaan nan bibittinneessa. 24 Irree mootii Baabilon nan jabeessa; goraadee
koos harka isaa keessa nan kaa'a; irree Fara'oon garuu nan cabsa; innis fuula isaa
duratti akkuma nama akka malee madaa'eetti ni aada. 25 Irree mootii Baabilon nan
jabeessa; irreen Fara'oon garuu ni laafa. Yommuu ani goraadee koo harka mootii
Baabilon keessa kaa'ee inni immoo Gibxitti isa mirmirsutti isaan akka ani WAAQAYYO
ta'e ni beeku. 26 Ani namoota Gibxi saboota gidduu nan faffacaasa; biyyoota keessas
isaan nan bibittinneessa. Isaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku."

# 31

*Gaattiraa Libaanoon*

1 Waggaa kudha tokkoffaatti, ji’a sadaffaa keessa, guyyaa tokkoffaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa, Fara’oon mooticha
Gibxii fi tuuta namoota isaatiin akkana jedhi:
“ ‘Surraadhaan eenyutu siin qixxaata?
3 Kunoo Asoor akka birbirsa Libaanoon
kan dameewwan mimmiidhagoo qabuu fi
bosonaaf gaaddisa ta’ee
akka malee ol dheeraa fi
kan fiixeen isaa duumessa tuqe ture.
4 Bishaan isa biqilche;
burqaawwan gad fagoon immoo isa guddise;
lageen isaanii
hidda isaa hunda marsanii yaa’anii
bishaan isaanii
gara mukkeen bosonaa hundaatti ergu.
5 Kanaafuu inni mukkeen bosonaa hundaan olitti
akka malee ol dheerate;
lataan isaa ni baay’ate;
dameen isaas ni guddate;
inni bishaan baay’ee argatee babal’ateeraatii.
6 Simbirroonni samii hundi
damee isaa irratti man’ee ijaarratan;
bineensonni dirree hundi
damee isaa jalatti dhalan;
saboonni gurguddaan hundinuus,
gaaddisa isaa jala jiraatan.
7 Inni sababii hidda isaa
gara bishaan baay’eetti gad fageeffateef,
dameewwan isaa kanneen babal’atan wajjin
akka malee miidhagaa ture.
8 Gaattiraawwan iddoo biqiltuu Waaqaa keessa jiran
isa gituu hin dandeenye;
yookaan mukkeen birbirsaa
dameewwan isaatiin hin qixxaatan;
mukni waddeessaas
dameewwan isaatiin hin qixxaatu;
mukni iddoo biqiltuu Waaqaa keessa jiru tokko iyyuu
miidhagina isaatiin wal bira hin qabamu.
9 Ani dameewwan baay’eedhaan
isa nan miidhagse;
mukkeen Eeden
kanneen iddoo biqiltuu Waaqaa keessa jiran hundi
isatti hinaafan.
10 “ ‘Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Sababii inni ol dheeratee fiixeen
isaa duumessa tuqee inni dheerina isaatiin of tuuleef, 11 akka inni waan hammina
isaatiif malu isaaf kennuuf, ani dabarseen bulchaa sabootaatti isa kenne. Darbadhees
isa nan gate; 12 alagoonni akka malee hamoonis cicciranii isa gatan. Lataawwan isaa
gaarran irraa fi sululawwan keessatti harca’a; dameewwan isaa immoo cicciramanii
bo’oowwan bishaanii hunda keessa bu’an. Saboonni lafaa hundi gaaddisa isaa jalaa
ba’anii isa dhiisanii deeman. 13 Simbirroonni samii hundi muka jige sana irra

qubatan; bineensonni dirree hundinuus dameewwan isaa gidduu turan. 14 Kanaafuu
mukni bishaan bira jiru kam iyyuu akka malee hin guddatu yookaan fiixeen isaa
duumessa hin tuqu. Mukni akkasitti bishaan quufe kam iyyuu akkas ol dheeratee
hin beeku. Isaan hundi warra du’anii boolla qileetti gad bu’an wajjin akka du’an itti
murteeffameera.
15 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhe: Guyyaa inni awwaalametti ani isaaf jedhee
burqaawwan gad fagoo gaddaan nan guute; lageen isaa nan ittise; bishaan isaa
guddichis yaa’uu dhiise. Sababii isaatiif ani Libaanoonitti dukkana nan uffise;
mukkeen dirree hundis ni gogan. 16 Yommuu ani warra boolla bu’an sanatti
dabalee awwaala keessa isa buusutti sagalee kufaatii isaatiin ani saboota nan
hollachiisa. Ergasiis mukkeen Eeden kanneen Libaanoon keessaa filatamoo fi kan
addaa ta’an hundi, mukkeen akka gaarii bishaan obaafaman hundi boolla keessatti
jajjabeeffaman. 17 Warri gaaddisa isaa jala jiraatan kanneen saboota gidduudhaa
isaaf tumsan, warra goraadeedhaan ajjeefamanitti makamuuf isa wajjin awwaala
keessa bu’an.
18 “ ‘Mukkeen Eeden keessaa kan ulfinaa fi surraadhaan siin qixxaatu kami? Ta’u
iyyuu mukkeen Eeden wajjin boolla buuta; ati warra goraadeedhaan ajjeefaman
wajjin, namoota dhagna hin qabatin gidduu ciifta.
“ ‘Kun Fara’oonii fi waldaa uummata isaa hunda, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

# 32

*Faaruu Boo’ichaa Fara’ooniif Faarsame*

1 Waggaa kudha lammaffaatti, ji’a kudha lammaffaa keessa, guyyaa tokkoffaatti
dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 “Yaa ilma namaa, waa’ee
Fara’oon mooticha Gibxi faaruu baasiitii akkana jedhi:
“ ‘Ati saboota gidduutti akka leencaa ti;
galaanota keessatti immoo bineensa akka jawwee ti;
ati lageen borcita;
miilla keetiin bishaan ni booressita;
lageenis ni dhoqqeessita.
3 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“ ‘Gumii namoota baay’ee keessatti
ani kiyyoo koo sitti nan darbadha;
isaanis kiyyoo kootiin harkisanii si baasu.
4 Ani lafatti sin gata;
bakkeettis sin darbadha.
Akka simbirroonni samii hundi sirra qubatan,
akka bineensonni lafaa hundinuus si nyaatanii quufan nan godha.
5 Ani foon kee tulluuwwan irratti nan bittinneessa;
raqa keetiinis sululawwan nan guuta.
6 Hamma tulluuwwan bira ga’utti
dhiiga kee kan lola’uun biyyattii nan guuta;
sululawwanis foon keetiin ni guutamu.
7 Ani yommuun si balleessutti samiiwwan nan haguuga;
urjiiwwan isaanii immoo nan dukkaneessa;
aduu duumessaan nan haguuga;
ji’is ifa isaa hin kennu.
8 Ifawwan calaqqisoo samii irra jiran hunda sitti nan dukkaneessa;
ani biyya kee irra dukkana nan buusa,
jedha WAAQAYYO Gooftaan.

9 Ani yeroon boojuu godhee
saboota gidduutti gara biyyoota ati hin beekiniitti si ergutti
garaa saboota hedduu nan dhiphisa.
10 Ani yeroon goraadee koo fuula isaanii duratti mirmirsutti
akka namoonni hedduun si arganii na’an,
akka mootonni isaaniis waa’ee keetiif sodaadhaan hollatan nan godha.
Guyyaa kufaatii keetii
tokkoon tokkoon isaanii
yeruma yeroon lubbuu isaaniitiif ni kirkiru.
11 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhaatii:
“ ‘Goraadeen mootii Baabilon
sitti dhufa.
12 Ani akka namoonni kee hedduun
goraadee namoota jajjabootiin jechuunis
kanneen saboota hunda keessaa akka malee hamoo ta’an sanaatiin
dhuman nan godha.
Isaan of tuulummaa Gibxi ni balleessu;
waldoonni ishee hundinuus ni barbadeeffamu.
13 Bishaanota baay’ee biraa
loon ishee hunda nan fixa;
si’achi miilli namaa hin booressu
yookaan kotteen loonii hin dhoqqeessu.
14 Ergasii bishaan ishee akka qulqullaa’u,
lageen ishee immoo akkuma zayitii akka dhangala’an nan godha,
jedha WAAQAYYO Gooftaan.
15 Gaafa ani biyya Gibxi onsee
biyyattiin waan ishee keessa jiru hunda dhabdutti,
yommuu ani waan achi jiraatu hunda dha’utti
isaan akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.’
16 “Faaruun isaan isheef faarsan kana. Intallan sabootaas ni faarsu; biyyi Gibxii fi
waldaan ishee hundi ni faarsu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.”
17 Waggaa kudha lammaffaatti, ji’a tokkoffaa keessa, guyyaa kudha shanaffaatti
dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 18 “Yaa ilma namaa, waldaa
namoota Gibxiif wawwaadhu; ishee fi intallan saboota jajjaboo kanneen boolla
bu’anitti dabaliitii qileetti darbadhu. 19 Akkanas isaaniin jedhi; ‘Ati eenyu caalaa
miidhagda? Gad bu’iitii warra dhagna hin qabanne sana gidduu ciisi.’ 20 Isaan warra
goraadeedhaan ajjeefaman gidduutti kufu. Goraadeen luqqifameera; isheen waldaa
namoota ishee hunda wajjin lafa irra haa harkifamtu. 21 Hooggantoonni jajjaboon
awwaala keessaa waa’ee Gibxii fi waa’ee tumsitoota ishee, ‘Isaan gad bu’aniiru;
warra dhagna hin qabatin kanneen goraadeedhaan qalaman wajjin ciciisaniiru’
jedhu.
22 “Asoor loltoota ishee hunda wajjin achi jirti; isheenis awwaala namoota ishee
warra qalaman hundaa kanneen goraadeedhaan dhuman hundaatiin marfamteerti.
23 Awwaalli isaanii boolla qilee keessa; loltoonni ishees naannoo awwaala ishee
ciciisaniiru. Warri biyya jiraattotaa keessatti sodaa faffacaasan hundi gorra’amanii
goraadeedhaan dhumaniiru.
24 “Eelaam waldaa namoota ishee kanneen naannoo awwaalaa ishee jiran hunda
wajjin achi jirti. Hundi isaanii gorra’amanii goraadeedhaan dhumaniiru. Warri
biyya jiraattotaa keessa sodaa faffacaasan hundi utuu dhagna hin qabatin qilee
keessa bu’aniiru. Isaan warra boolla bu’an wajjin qaanii isaanii baadhataniiru.
25 Waldaa namoota ishee kanneen naannoo awwaala ishee jiran hunda wajjin

warra gorra'aman gidduutti sireen isheedhaaf qopheeffameera. Hundi isaanii warra dhagna hin qabatin kanneen goraadeen dhumanii dha. Sababii sodaan isaanii biyya jiraattotaa keessa faffaca'eef, isaan warra boolla bu'an wajjin qaanii isaanii baadhataniiru; isaan warra gorra'aman gidduu ciciisaniiru.

26 "Meshekii fi Tuubaal waldaa namoota ishee kanneen naannoo awwaala isaanii
jiran hunda wajjin achi jiru. Hundi isaanii iyyuu warra dhagna hin qabatin kanneen
sababii biyya jiraattotaa keessa sodaa faffacaasaniif goraadeedhaan dhumanii dha.
27 Isaan gootota dhuman kanneen dhagna hin qabatin kaan, warra mi'a lolaa
isaanii wajjin awwaalaman kanneen goraadeewwan boraafatan wajjin hin ciciisanii?
Sodaachisuun gootota kanneenii biyya jiraattotaa keessa jiraatu iyyuu adabbiin
cubbuu isaaniitiif malu lafee isaanii irra bu'e.

28 "Yaa Fara'oon, atis cabdee warra dhagna hin qabatin kanneen goraadeedhaan ajjeefaman gidduu ni ciifta.

29 "Edoom, mootonni isheetii fi bulchitoonni ishee hundi achi jiru; isaan humna qabaatan iyyuu, warra goraadeedhaan ajjeefaman wajjin ciciisaniiru. Isaan warra dhagna hin qabatin kanneen boolla bu'an wajjin ciciisu.

30 "Bulchitoonni kaabaa hundii fi warri Siidoonaa hundi achi jiru; isaan warra jabina isaaniitiin goolii uumaa turan ta'an iyyuu warra gorra'aman wajjin salphinaan gad bu'an. Utuu dhagna hin qabatin warra goraadeedhaan ajjeefaman wajjin ciciisu; warra boolla bu'an wajjinis salphina isaanii baadhatu.

31 "Fara'oonii fi loltoonni isaa hundi jara argu; waldaan namoota isaa hundi
goraadeedhaan ajjeefamani iyyuu inni of jajjabeessa, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
32 Ani akka inni biyya jiraattotaa keessa goolii faffacaasu godhu iyyuu, Fara'oonii
fi waldaan namoota isaa hundi warra dhagna hin qabatin kanneen goraadeedhaan
ajjeefaman gidduu ni ciciisu, jedha WAAQAYYO Gooftaan."

# 33

### *Hisqi'eel Eegduu Ta'e*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 2 "Yaa ilma namaa,
namoota biyya keetiitti dubbadhuutii akkana jedhiin: 'Yeroo ani biyya tokkotti
goraadee fidutti, sabni biyya sanaa namoota isaa keessaa nama tokko filatee eegduu
isa godhatee, 3 eegduun sun goraadee biyyattiitti dhufaa jiru argee uummata
akeekkachiisuuf malakata yeroo afuufutti, 4 yoo namni kam iyyuu sagalee malakataa
dhaga'ee garuu akeekkachiisa sana fudhachuu didee goraadeen sun dhufee lubbuu
isaa galaafate, dhiigni isaa matuma isaatti deebi'a. 5 Inni sagalee malakataa dhaga'ee
garuu akeekkachiisa waan hin fudhatiniif dhiigni isaa matuma isaatti deebi'a. Inni
utuu akeekkachiisa sana fudhatee jiraatee silaa of baasa ture. 6 Garuu yoo eegduun
sun goraadee dhufaa jiru argee namoota akeekkachiisuuf malakata afuufuu baatee
goraadeen sun dhufee isaan keessaa lubbuu nama tokkoo galaafate, namichi sun
sababii cubbuu isaatiif ajjeefama; eegduu sana garuu sababii dhiiga nama sanaatiif
nan gaafadha.'

7 "Yaa ilma namaa, ani mana Israa'eliitiif eegduu si godheera; kanaafuu dubbii ani
dubbadhu dhaga'iitii akeekkachiisa na biraa ba'u isaaniif kenni. 8 Yeroo ani nama
hamaa tokkoon, 'Yaa namicha hamaa nana, ati dhugumaan ni duuta' jedhutti, yoo
ati akka inni qalbii jijjiirratu akeekkachiisuu baatte namichi hamaan sun cubbuu
isaatiin ni du'a; dhiiga isaa garuu ani harka kee irraa nan barbaada. 9 Garuu yoo
ati nama hamaa sana akka inni karaa isaa irraa deebi'u akeekkachiiftee inni immoo
deebi'uu baate, inni cubbuu isaatiin ni du'a; ati garuu lubbuu kee oolfatteerta.

10 "Yaa ilma namaa, mana Israa'eliin akkana jedhi; 'Isin akkana jettu: "Yakkii fi cubbuun keenya nutti ulfaateera; nuus sababii kanaaf nyaatamnee dhumne.

Yoos akkamiin jiraachuu dandeenya ree?” ’ 11 Akkana isaaniin jedhi; ‘Akkuma ani
dhugumaan jiraataa ta’e, ani akka namoonni hamoon karaa isaanii irraa deebi’anii
jiraatan malee du’a isaaniitti hin gammadu, jedha WAAQAYYO Gooftaan. Deebi’aa!
Karaa keessan hamaa sana irraa deebi’aa! Yaa mana Israa’el isin maaliif duutu?’
12 “Kanaafuu yaa ilma namaa, namoota biyya keetiitiin akkana jedhi; ‘Qajeelum-
maan nama qajeelaa yommuu inni ajajamuu didutti isa hin baasu; hamminni nama
hamaas yommuu inni hammina isaa irraa deebi’utti isa hin balleessu. Namni
qajeelaan yoo cubbuu hojjete sababii qajeelummaa isaa duraatiif lubbuudhaan hin
jiraatu.’ 13 Yoo ani nama qajeelaa tokko akka inni dhugumaan jiraatu itti himee,
inni garuu qajeelummaa isaa amanatee cubbuu hojjete, waan qajeelaa inni hojjete
keessaa tokko iyyuu hin yaadatamu; inni cubbuu hojjete sanaan ni du’a. 14 Yoo ani
nama cubbamaa tokkoon, ‘Ati dhugumaan ni duuta’ jedhee inni garuu cubbuu isaa
irraa deebi’ee waan sirrii fi waan qajeelaa hojjete jechuunis, 15 inni yoo qabdii waan
liqeesse tokkoof fudhate deebise, yoo waan hate deebise, yoo seera jireenya namaaf
kennu duukaa bu’ee hammina hojjechuu baate, inni dhugumaan ni jiraata; hin du’us.
16 Cubbuu namichi sun hojjete keessaa tokko iyyuu isatti hin herregamu. Inni waan
sirrii fi qajeelaa hojjeteeraatii, dhugumaan lubbuudhaan ni jiraata.
17 “Ta’us namoonni biyya keetii, ‘Karaan Gooftaa qajeelaa miti’ jedhu. Garuu
karaan qajeelaa hin ta’in kanuma isaanii ti. 18 Namni qajeelaan yoo qajeelummaa
isaa irraa deebi’ee hammina hojjete, inni hammina sanaan ni du’a. 19 Namni hamaan
tokko immoo yoo hammina isaa irraa deebi’ee murtii qajeelaa fi waan qajeelaa
hojjete, inni waan kana hojjechuu isaatiin ni jiraata. 20 Ta’u illee yaa mana Israa’el
isin, ‘Karaan Gooftaa qajeelaa miti’ jettu. Ani garuu hunda keessanitti akkuma hojii
keessaniitti nan mura.”

### *Kufaatiin Yerusaalem Ibsame*

21 Waggaa kudha lammaffaa booji’amuu keenyaatti, ji’a kurnaffaa keessa, bultii
shanaffaatti, namichi Yerusaalemii baqatee ba’e tokko gara koo dhufee, “Magaalattiin
kufteerti!” jedhe. 22 Galgala dhufaatii namichaatiin duraa sana harki WAAQAYYOO
narra ture; utuu namichi ganamaan gara koo hin dhufinis Waaqni afaan koo bane.
Afaan koo banameeraatii ani lammata hin cal’isne.
23 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 24 “Yaa ilma
namaa, namoonni diigama biyya Israa’el keessa jiru keessa jiraatan akkana jedhu;
‘Abrahaam namuma tokko ture; ta’us inni biyyattii dhaale. Nu garuu baay’ee dha;
biyyattiinis dhugumaan akka nu dhaalluuf nuu kennamteerti.’ 25 Kanaafuu akkana
isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Isin foon utuma dhiigni keessa
jiruu nyaattu; waaqota keessan tolfamoo abdattu; dhiiga namaas dhangalaaftu; yoos
isin biyyattii dhaaluu qabduu? 26 Isin goraadee keessan abdattu; waan jibbisiisaa
hojjettu; tokkoon tokkoon keessan niitii ollaa keessanii xureessitu. Yoos isin biyyattii
dhaaluu qabduu?’
27 “Akkana isaaniin jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani jiraataadhaatii,
warri diigama keessatti hafan goraadeedhaan dhumu; warra baadiyyaa keessa jiran
akka isaan nyaatamaniif bineensatti dabarsee nan kenna; warri da’annoo fi holqa
keessa jiraatan immoo dha’ichaan ni dhumu. 28 Ani biyyattii onsee duwwaa nan
hambisa; humni isheen ittiin of jajjus ni dhuma; gaarran Israa’elis akka namni
tokko iyyuu irra hin qaxxaamurreef qullaa hafu. 29 Yeroo ani sababii wantoota
jibbisiisoo isaan hojjetan hundaatiif biyyattii onsee duwwaa hambisutti, isaan akka
ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.’
30 “Waa’ee kee immoo yaa ilma namaa, namoonni biyya keetii keenyan manaa
birattii fi balbala duratti waa’ee kee dubbachaa, ‘Kottaa dhaqnee ergaa WAAQAYYO
biraa dhufe dhageenyaa’ waliin jedhu. 31 Sabni koo akkuma yeroo kaaniitti gara kee

dhufanii dubbii kee dhaga'uudhaaf fuula kee dura tataa'u; isaan garuu waan sana
hojiidhaan hin argisiisan. Isaan afaan isaaniitiin jaalala guddaa dubbatu; garaan
isaanii garuu bu'aa hin malle argachuuf gaggaba. [32] Dhugumaan ati isaaniif nama
sagalee gaariidhaan sirba jaalalaa sirbee meeshaa sirbaa taphatu irra hin jirtuutii;
isaan dubbii kee ni dhaga'u malee hojiidhaan hin argisiisaniitii.
[33] "Yeroo wanni kun ta'utti, dhugumaan ni ta'aatii isaan gaafas akka raajiin gidduu
isaanii ture ni beeku."

# 34

*Tiksoota Israa'el*

[1] Ergasii dubbiin Waaqayyoo akkana jedhee gara koo dhufe: [2] "Yaa ilma namaa,
tiksoota Israa'elitti raajii dubbadhuutii akkana jedhiin: 'Waaqayyo Gooftaan akkana
jedha: Tiksoota Israa'el warra ofuma isaanii qofa sooraniif wayyoo! Tiksoonni
bushaayee sooruu hin qabanii? [3] Isin cooma ni nyaattu; suufii ni uffattu; horii
gabbataa ni qalattu; bushaayee garuu hin soortan. [4] Isin dadhabaa hin jabeessine
yookaan dhukkubsataa hin fayyifne yookaan cabaa hin wal'aanne. Kanneen miliqan
hin deebifne yookaan kanneen badan hin barbaanne. Humnaa fi gara jabinaan
isaan ajajju. [5] Kanaafuu isaan sababii tikseen hin jirreef bittinnaa'an; yeroo
bittinnaa'anittis bineensota bosonaatiif soora ta'an. [6] Hoolonni koo gaarran hundaa
fi tulluuwwan ol dhedheeroo hunda irra asii fi achi jooran. Isaan guutummaa lafaa
irra faffaca'an; namni isaan ilaalu yookaan isaan barbaadu tokko iyyuu hin turre.
[7] " 'Kanaafuu isin tiksoonni, dubbii Waaqayyoo dhaga'aa: [8] Ani jiraataadhaatii,
jedha Waaqayyo Gooftaan; sababii bushaayeen koo tiksoota dhabanii akkasiin
saamamanii bineensa bosonaatiif nyaata ta'aniif, sababii tiksoonni koo bushaayee
koo barbaaduu didanii qooda bushaayee ofuma isaanii sooraniif [9] yaa tiksoota,
kanaafuu isin dubbii Waaqayyoo dhaga'aa: [10] Waaqayyo Gooftaan akkana jedha:
Ani tiksootatti nan ka'a; bushaayee koos harka isaanii irraa nan barbaada. Akka
tiksoonni si'achi of hin soorreef bushaayee tiksuu irraa isaan nan ari'a. Ani
bushaayee koo afaan isaaniitii nan buusa; isaanis si'achi soora isaanii hin ta'an.
[11] " 'Waaqayyo Gooftaan akkana jedhaatii: Ani mataan koo hoolota koo nan
barbaadadha; nan tikfadhas. [12] Akkuma tikseen tokko yommuu bushaayee isaa
bira jirutti hoolota isaa warra bittinnaa'an barbaaddatu sana anis hoolota koo
nan barbaaddadha. Ani lafa isaan guyyaa duumessaatii fi guyyaa dukkanaa itti
bittinneeffaman hundaa baasee isaan nan galfadha. [13] Anis saboota keessaa isaan
baasee biyyoota keessaa immoo walitti isaan nan qaba; biyya isaaniittis isaan nan
deebisa. Ani gaarran Israa'el irra, qarqara burqaawwaniitii fi lafa namni jiraatu kan
biyya sana keessaa hunda isaan nan tikfadha. [14] Ani marga gaarii keessa isaan nan
tiksa; tulluun Israa'elis iddoo dheeda isaanii ta'a. Isaan achitti lafa dheedaa tolaa
isaa irra ciciisu; marga misaa tulluuwwan Israa'el irraas ni dheedu. [15] Ani mataan
koo hoolota koo nan tikfadha; akka isaan boqotanis nan godha, jedha Waaqayyo
Gooftaan. [16] Kanneen badan nan barbaada; kanneen miliqan deebisee nan galcha.
Kan cabe nan hidha; kan dadhabe illee nan jajjabeessa; gabbataa fi jabaa isaa immoo
nan balleessa. Ani murtii qajeelaadhaan bushaayee nan tikfadha.
[17] " 'Isin garuu yaa bushaayee ko, Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Ani hoolaa fi
hoolaa gidduutti, korbeessa hoolaatii fi korbeessa re'ee gidduutti murtii nan kenna.
[18] Marga misaa keessa dheeduun keessan isin hin ga'uu? Isin marga keessan kan hafe
lafatti dhidhiituu qabduu? Bishaan qulqulluu dhuguun isinitti xinnaatee? Bishaan
hafe immoo miilla keessaniin booressuu qabduu? [19] Bushaayeen koo waan isin lafatti
dhidhiittan soorachuu, waan isin miilla keessaniin dhoqqeessitan immoo dhuguu
qabuu?

[20] " 'Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana isaaniin jedha: Kunoo, ani mataan koo
hoolaa gabbatee fi hoolaa huqqate gidduutti murtii nan kenna. [21] Sababii isin hoolota
dadadhaboo hunda cinaachaa fi gatiittii keessaniin dhiibdanii, gaanfa keessaniin
immoo jifattanii alatti baaftaniif, [22] ani bushaayee koo nan oolfadha; isaanis si'achi
hin saamaman. Ani hoolaa fi hoolaa gidduutti murtii nan kenna. [23] Ani tiksee tokko
jechuunis garbicha koo Daawitiin isaanittan ramada; inni isaan eega; tiksee isaaniis
ni ta'a. [24] Ani WAAQAYYO Waaqa isaanii nan ta'a; Daawit garbichi koo immoo gidduu
isaaniitti bulchaa ni ta'a. Ani WAAQAYYO waan kana dubbadheera.
[25] " 'Ani isaan wajjin kakuu nagaa nan gala; akka isaan gammoojjii keessa jiraatanii
bosona keessa nagaan ciciisaniif bineensota hamoo biyyattii keessaa nan baasa. [26] Ani
isaanii fi iddoowwan tulluu koo marsanii jiran nan eebbisa. Bokkaas yeroo isaatti
nan roobsa; roobni sunis rooba eebbaa ni ta'a. [27] Mukkeen bakkee ija naqatu; laftis
midhaan ni baafti; namoonni biyya isaanii keessatti tasgabbiin ni jiraatu. Yeroo
ani danqaraa waanjoo isaanii cabsee harka warra isaan garboomfataniitii isaan
baasutti, isaan akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku. [28] Isaan si'achi sabootaan hin
saamaman yookaan bineensota bosonaatiin hin nyaataman. Nagaadhaan jiraatu;
wanni isaan sodaachisu tokko iyyuu hin jiru. [29] Ani lafa midhaan baasuudhaan
beekame isaaniif nan kenna; isaan biyyattii keessatti si'achi beelaan hin miidhaman
yookaan sabootaaf waan kolfaa hin ta'an. [30] Yommus akka ani WAAQAYYO Waaqni
isaanii isaan wajjin jiruu fi akka manni Israa'el saba koo ta'e isaan ni beeku, jedha
WAAQAYYO Gooftaan. [31] Isin hoolonni koo, hoolonni tika koo namoota; anis Waaqa
keessan, jedha WAAQAYYO Gooftaan.' "

# 35

### *Raajii Edoomiin Mormuudhaan Dubbatame*

[1] Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: [2] "Yaa ilma namaa,
fuula kee gara Tulluu See'iiritti deebifadhu; isaan mormuudhaanis raajii dubbadhu;
[3] akkanas jedhiin: 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa Tulluu See'iir ani
sitti ka'eera; ani harka koo sitti hiixadhee onaa fi gatamaa sin godha. [4] Ani
magaalaawwan kee nan diiga; atis ni onta. Ergasii akka ani WAAQAYYO ta'e ni beekta.
[5] " 'Ati sababii haaloo diinummaa durii garaatti qabatteef bara rakkina isaanii
keessa jechuunis yeroo adabbiin isaanii dhuma irra ga'etti Israa'eloota dabarsitee
goraadeetti kennite; [6] kanaafuu ani jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; ani
dhiiga dhangalaasuutti dabarsee sin kenna; ati dhiiga dhangalaasuu jalaa hin baatu.
Ati waan dhiiga dhangalaasuu hin jibbineef dhiiga dhangalaasuu jalaa hin baatu.
[7] Ani Tulluu See'iir onsee duwwaa nan hambisa; warra dhaquu fi deebi'u achi
irraa nan kuta. [8] Ani tulluuwwan kee reeffaan nan guuta; warri goraadeedhaan
ajjeefamanis gaarran kee irra, sululawwan kee keessaa fi lageen kee hunda keessa
ni ciciisu. [9] Ani bara baraan sin onsa; magaalaawwan kees lafa jireenyaa hin ta'an.
Ergasii akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.
[10] " 'Sababii ati, "WAAQAYYO achi jiraatu iyyuu, saboonni lamaan kunneenii fi
biyyoonni lamaan kunneen kan koo ni ta'u; nus isaan dhuunfanna" jetteef, [11] ani
jiraataadhaatii, jedha WAAQAYYO Gooftaan; kanaafuu ani akkuma ati aarii fi hinaaffaa
jibba isaaniif qabduun argisiifte sanaatti gatii kee siif nan kenna; anis yeroon sitti
murteessutti isaan gidduutti of nan beeksisa. [12] Ergasiis akka ani WAAQAYYO wantoota
ati tulluuwwan Israa'elitti, "Isaan onanii duwwaa hafaniiru; akka nu nyaannuufis
nuu kennamaniiru" jettee tuffiin dubbatte hunda dhaga'ee jiru ni beekta. [13] Ati
afaan keetiin natti of jajjee oduu natti baay'ifteerta; anis waan kana dhaga'eera.
[14] WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yommuu guutummaan lafaa gammadutti ani

sin onsa. 15 Sababii ati yeroo dhaalli mana Israa’el onetti gammaddeef ani akkana
sin godha. Yaa Tulluu See’iir ati ni onta; atii fi guutummaan Edoom ni ontu. Ergasii
isaan akka ani WAAQAYYO ta’e ni beeku.’ ”

# 36

*Abdii Tulluuwwan Israa’eliif Dubbatame*

1 “Yaa ilma namaa, akkana jedhii tulluuwwan Israa’eliitiif raaji; ‘Yaa tulluuwwan
Israa’el, dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa. 2 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Diinni
waa’ee keessan, “Ishoo! Iddoowwan ol ka’oon durii dhuunfaa keenya ta’aniiru”
jedhe.’ 3 Kanaafuu raajiitii akkana jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
Sababii isaan qixa hundaan marsanii isin waraananiif, isin saboota kaaniif dhuunfaa
taatan; namootaafis waan mammaaksaatii fi waan qoosaa taatan; 4 kanaafuu
yaa tulluuwwan Israa’el, dubbii WAAQAYYO Gooftaa dhaga’aa: WAAQAYYO Gooftaan
tulluuwwanii fi gaarraniin, lageenii fi sululawwaniin, onawwan diigamanii fi maga-
alaawwan duwwaa hafan kanneen saboota naannoo keessan jiraniin saamamanii
waan qoosaa ta’aniin akkana jedha: 5 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Ani
aarii koo kan boba’u sanaan saboota hafanii fi Edoom hunda irratti dubbadheera;
isaan gammachuu fi tuffii garaadhaa qabaniin lafa dheeda ishee saamuuf jedhanii
biyya koo handhuuraa ofii isaanii godhatan.’ 6 Kanaafuu waa’ee biyya Israa’eliif
raajii dubbadhuutii tulluuwwanii fi gaarraniin, lageenii fi sululawwaniin akkana
jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Sababii isin sabootaan tuffatamtaniif, ani
hinaaffaa dheekkamsa kootiitiin nan dubbadha. 7 Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan
akkana jedha: Ani akka saboonni naannoo keessan jiraatani tuffatamaniif harka koo
ol qabadhee nan kakadha.

8 “ ‘Yaa tulluuwwan Israa’el, isin garuu saba koo Israa’eliif dameewwanii fi ijawwan
naqattu; isaan dhi’eenyatti biyyatti ni deebi’uutii. 9 Ani isiniif nan yaada; gara
laafinaanis isinan ilaala; isin ni qotamtu; sanyiinis isinitti facaafama; 10 ani lakkoobsa
uummataa kan guutummaa mana Israa’el nan baay’isa. Magaalaawwan namaan
ni guutamu; wanni diigames deebi’ee ni ijaarama. 11 Ani lakkoobsa namootaatii fi
horii irratti nan dabala; isaanis wal horanii baay’atu. Ani akkuma bara durii sana
namoota isin irra qubachiisee kan durii caalaa isinan sooromsa. Ergasii isin akka
ani WAAQAYYO ta’e ni beektu. 12 Ani akka namoonni jechuunis sabni koo Israa’el isin
irra deemu nan godha. Isaan isin dhuunfatu; isinis dhaala isaanii ni taatu; lammatas
warra ijoollee hin qabne isaan hin gootan.

13 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Namoonni, “Ati nama nyaatta; saba kees
ijoollee malee hambifta” siin jedhu; 14 ati garuu si’achi nama hin nyaattu yookaan
saba kee ijoollee malee hin hambiftu, jedha WAAQAYYO Gooftaan. 15 Ani si’achi
akka ati doorsisa sabootaa dhageessu hin godhu; si’achi ati tuffii namootaatiin hin
dhiphattu yookaan akka sabni kee gufatu hin gootu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.’ ”

16 Ammas dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 17 “Yaa ilma namaa,
namoonni Israa’el yeroo biyya isaanii keessa jiraachaa turanitti amala isaaniitii fi
hojii isaaniitiin biyyattii xureessan. Amalli isaanii fuula koo duratti akkuma laguu
dubartii kan ji’a ji’aan itti dhufu sanaa ture. 18 Sababii isaan biyyaattii keessatti dhiiga
dhangalaasanii fi sababii waaqota isaanii tolfamoodhaan biyyattii xureessaniif, ani
dheekkamsa koo isaanitti nan roobse. 19 Ani saboota keessa isaan nan faffacaase;
isaanis biyyoota keessa bittinnaa’an; ani akkuma amala isaaniitii fi hojii isaaniitti
isaanitti nan mure. 20 Iddoo dhaqan hundatti saboota keessatti maqaa koo qulqulluu
sana xureessan; waa’ee isaanii, ‘Jarri kun saba WAAQAYYOO ti; isaan garuu biyya
isaatii ba’aniiru’ jedhameeraatii. 21 Ani maqaa koo qulqulluu manni Israa’el iddoo
dhaqan hundatti saboota gidduutti xureessan sanaaf yaadeera.

22 “Kanaafuu mana Israa’eliin akkana jedhi; ‘Waaqayyo Gooftaan akkana jedha:
Yaa mana Israa’el, ani waa’ee maqaa koo qulqulluu isin iddoo dhaqxanitti saboota
gidduutti xureessitan sanaatiif malee isiniif jedhee wantoota kanneen hin godhu.
23 Ani qulqullina maqaa koo guddichaa kan saboota gidduutti xuraa’e kan isin saboota
gidduutti xureessitan sana nan argisiisa. Yommuu ani karaa keessaniin fuula isaanii
duratti qulqulluu ta’uu koo argisiisutti akka ani Waaqayyo ta’e saboonni ni beeku,
jedha Waaqayyo Gooftaan.

24 “ ‘Ani saboota keessaa isinan baafadhaatii; ani biyyoota keessaa walitti isin
qabee biyya keessanitti deebisee isinan fida. 25 Ani bishaan qulqulluu isinitti nan
facaasa; isinis ni qulqullooftu; ani xuraa’ummaa keessan hunda irraa fi waaqota
keessan tolfamoo hunda irraa isinan qulqulleessa. 26 Ani onnee haaraa isiniif nan
kenna; hafuura haaraas isin keessa nan kaa’a; onnee dhagaa isin keessaa baasee
onnee foonii isiniif nan kenna. 27 Akka isin dambii koo duukaa buutanii fi seera koo
sirriitti eegdaniif ani Hafuura koo isin keessa nan kaa’a. 28 Isin biyya ani abbootii
keessaniif kenne keessa ni jiraattu; isin saba koo ni taatu; anis Waaqa keessan nan
ta’a. 29 Ani xuraa’ummaa keessan hunda irraa isinan qulqulleessa. Ani midhaan nan
waama; nan baay’isas; beelas isinitti hin fidu. 30 Akka isin si’achi sababii beelaatiin
fuula sabootaa duratti hin salphanneef, ija mukkeeniitii fi midhaan lafa qotiisaa nan
baay’isa. 31 Ergasiis karaa hammina keessaniitii fi hojii jal’ina keessanii ni yaadattu;
sababii cubbuu keessaniitii fi hojii keessan jibbisiisaa sanaatiifis of balfitu. 32 Akka ani
waan kana isiniif jedhee hin hojjetin akka beektan nan barbaada, jedha Waaqayyo
Gooftaan. Yaa mana Israa’el, waa’ee amala keessaniitiif qaana’aa; saalfadhaas!

33 “ ‘Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Ani gaafan cubbuu keessan hunda irraa
isin qulqulleessutti, akka magaalaawwan keessan deebi’anii lafa jireenyaa ta’a nan
godha; kanneen diigamanis deebi’anii ijaaramu. 34 Lafti onee ture qooda fuula
namoota karaa sanaan darban hunda duratti onee hafu ni qotama. 35 Isaan, “Lafti
ona ture kun akka lafa biqiltuu Eeden ta’eera; magaalaawwan diigamanii, onanii
barbadaa’anis amma dallaan itti ijaaramee namaan guutamaniiru” jedhu. 36 Ergasii
namoonni hafan kanneen naannoo kee jiraatan akka ani Waaqayyo waan barbadaa’e
deebisee ijaaree waan ones deebisee dhaabe ni beeku. Ani Waaqayyo dubbadheera;
nan raawwadhas.’

37 “Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Ammas kadhannaa mana Israa’el dhaga’ee
waan kana isaaniif nan godha: Namoota isaanii akkuma hoolotaa nan baay’isa;
38 akkuma bushaayee yeroo ayyaanaa Yerusaalem keessatti aarsaaf dhi’eeffamaniitti
nan baay’isa. Kanaafuu magaalaawwan diigamanii turan waldaa namootaatiin ni
guutamu. Ergasii isaan akka ani Waaqayyo ta’e ni beeku.”

# 37

### *Sulula Lafeewwan Goggogaa*

1 Harki Waaqayyoo narra ture; innis Hafuura Waaqayyootiin na fuudhee,
walakkaa sululaa na dhaabe; sululli sunis lafeewwaniin guutamee ture. 2 Isaan
gidduus asii fi achi na deddeebise; anis lafeewwan akka malee baay’ee kanneen akka
malee goggogan lafa sululaa irratti nan arge. 3 Innis, “Yaa ilma namaa, lafeewwan
kunneen jiraachuu danda’uu?” jedhee na gaafate.

Ani immoo, “Yaa Waaqayyo Gooftaa, si qofatu beeka” nan jedhe.

4 Kana irratti inni akkana naan jedhe; “Lafeewwan kanneenitti raajiitii akkana
jedhiin; ‘Yaa lafeewwan goggogoo, dubbii Waaqayyoo dhaga’aa! 5 Waaqayyo
Gooftaan lafeewwan kanneeniin akkana jedha: Ani hafuura isinitti nan galcha; isinis
lubbuudhaan ni jiraattu. 6 Ribuu isinitti nan baasa; akka foon isinitti ba’u nan godha;

gogaas isinitti nan uffisa; hafuuras isin keessa nan kaa'a; isinis lubbuudhaan ni
jiraattu. Ergasii isin akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu.' "
7 Kanaafuu ani akkuman ajajametti raajii nan dubbadhe. Utuma ani raajii
dubbachaa jiruus sagaleen tokko dhaga'ame; lafeewwanis walitti dhufan; lafeenis
lafeetti maxxane. 8 Yeroo ani isaan ilaaletti, kunoo ribuun isaanitti ba'ee ture; foonis
isaan irra ture; gogaas uffatanii turan; hafuurri garuu isaan keessa hin jiru ture.
9 Ergasii inni akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, bubbeetti raajii dubbadhu;
akkanas jedhiin; 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa bubbee, bubbeewwan
afran irraa kottu; akka isaan lubbuudhaan jiraataniif warra gorra'aman kanneenitti
bubbisi.' " 10 Kanaafuu ani akkuma inni na ajajetti raajii nan dubbadhe; hafuurris
isaanitti gale; isaanis lubbuu horatanii miilla isaaniitiin ka'anii dhadhaabatan;
isaanis raayyaa guddaa turan.
11 Innis akkana naan jedhe: "Yaa ilma namaa, lafeewwan kunneen guutummaa
mana Israa'eli. Jarris, 'Lafeewwan keenya goggoganiiru; nu abdii hin qabnu; cin-
neerras' jedhu. 12 Kanaafuu raajii dubbadhuuttii akkana isaaniin jedhi: 'WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha: Yaa saba koo ani awwaala kee banee isa keessaa sin baasa;
ani biyya Israa'elitti deebisee sin fida. 13 Isinis yaa saba ko, yeroo ani awwaala
keessan banee isa keessaa isin baasutti, akka ani WAAQAYYO ta'e ni beektu. 14 Ani
Hafuura koo isin keessa nan kaa'a; isinis lubbuudhaan jiraattu; ani biyyuma keessan
keessa isinan qubachiisa. Ergasii isin akka ani WAAQAYYO dubbadhee hojjedhe ni
beektu, jedha WAAQAYYO.' "

### *Sabni Tokko Mootii Tokko Jalatti*

15 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; 16 "Yaa ilma namaa,
ulee mukaa tokko fuudhiitii, 'Kan Yihuudaatii fi kan Israa'eloota isa wajjin tumsanii'
jedhii isa irratti barreessi. Ulee mukaa kan biraas fuudhiitii, 'Ulee Efreem, kan
Yoosefii fi kan guutummaa mana Israa'el kanneen isa wajjin tumsanii' jedhii isa
irratti barreessi. 17 Akka isaan harka kee keessatti tokko ta'aniif uleewwan sana
walitti qabsiis.
18 "Yommuu namoonni biyya keetii, 'Kun maal jechuu kee akka ta'e nutti hin
himtuu?' jedhanii si gaafatanitti, 19 akkana isaaniin jedhi; 'WAAQAYYO Gooftaan
akkana jedha: Ani ulee Yoosef kan harka Efreem jiru kan gosoota Israa'el kanneen isa
wajjin tumsanii, ulee Yihuudaa wajjin walitti qabsiisee ulee mukaa tokko nan godha;
isaanis harka koo keessatti tokko ni ta'u.' 20 Fuula isaanii durattis uleewwan isaan
irratti barreessite sana harkatti qabadhuutii 21 akkana isaaniin jedhi; 'WAAQAYYO
Gooftaan akkana jedha: Ani saboota isaan keessa turan keessaa Israa'eloota nan
baasa. Qixa hundaa walitti isaan qabee biyya isaaniitti isaan nan galcha. 22 Ani
tulluuwwan Israa'el irratti, biyyattii keessatti saba tokko isaan nan godha. Isaan
hunda irratti mootii tokkotu mo'a; isaanis gonkumaa deebi'anii saboota lama
hin ta'an yookaan mootummaan isaanii iddoo lamatti hin qoodamu. 23 Isaan
si'achi waaqota isaanii tolfamoodhaa fi fakkiiwwan faayidaa hin qabneen yookaan
balleessaa isaanii kamiin iyyuu of hin xureessan; ani cubbuudhaan dugda duubatti
mucucaachuu isaanii hunda irraa deebisee isaan nan qulqulleessaatii. Isaan saba
koo ni ta'u; anis Waaqa isaanii nan ta'a.
24 " 'Daawit garbichi koo isaan irratti mootii ni ta'a; isaan hundis tiksitee tokko
ni qabaatu. Isaan seera koo duukaa ni bu'u; sirna koos of eeggannaadhaan ni
eegu. 25 Isaan biyya abbootiin keessan jiraatan, biyya ani Yaaqoobiif kenne keessa
ni jiraatu. Isaanii fi ijoolleen isaanii, ijoolleen ijoollee isaaniis bara baraan achi ni
jiraatu; Daawit garbichi koos bara baraan bulchaa isaanii ni ta'a. 26 Ani isaan wajjin
kakuu nagaa nan seena; kakuun kunis kakuu bara baraa ni ta'a. Ani jabeessee isaan
nan dhaaba; lakkoobsa isaaniis nan baay'isa; gidduu isaaniittis iddoo qulqulluu koo

bara baraan nan dhaaba. [27] Iddoon jireenya koo isaan bira ta'a; ani Waaqa isaanii
nan ta'a; isaanis saba koo ni ta'u. [28] Ergasii yommuu iddoon qulqulluun koo bara
baraan isaan gidduu jiraatutti, akka ani WAAQAYYO Israa'elin qulqulleessu saboonni
ni beeku.' "

# 38

*Raajii Googiin Mormuun Dubbatame*

[1] Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: [2] "Yaa ilma
namaa, fuula kee gara Googi, bulchaa hangafticha Meshekii fi Tuubaalii kan biyya
Maagoogitti garagalfadhu; isaan mormuudhaanis raajii dubbadhuutii [3] akkana jedhi:
'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa Googi, bulchaa hangafticha Meshekii fi
Tuubaal, ani sitti ka'a. [4] Ani duubatti sin deebisa; ha'oo kee keessa hokkoo galchee
loltoota kee hunda wajjin, fardeen kee, abbootii fardeenii kee kanneen hidhata
waraanaa guutuu hidhatan, waldaa guddaa kanneen gaachana gurguddaa fi xixiqqaa
qabatanii fi kanneen hundi isaanii goraadee qabatan wajjin sin baasa. [5] Faaresi,
Itoophiyaa fi Fuuxi kanneen hundi isaanii gaachanaa fi gonfoo sibiilaa qabatan isaan
wajjin ta'u; [6] akkasumas Goomer loltoota ishee hunda wajjin, kaaba fagootii Beet
Toogarmaa loltoota ishee hunda wajjin, saboota hedduus sitti dabalee nan baasa.
[7] " 'Qophaa'i; atii fi waldaan si biratti walitti qabame hundi qophaa'aa; ajajaa
isaaniis ta'i. [8] Guyyaa hedduu booddee ati lolaaf ni waamamta. Waggoota fuula
duraa keessa ati biyyattii lola irraa dandamatte, kan namoonni ishee saboota
baay'ee keessaa tulluuwwan Israa'el irratti walitti qabaman, kan bara dheeraaf ontee
turte sana ni weerarta Isaan saboota keessaa baafamaniiru; amma hundi isaanii
nagaadhaan jiraatu. [9] Atii fi loltoonni kee hundi, saboonni baay'een si wajjin jiranis
akka bubbee ol ni baatu; ati akka duumessa biyyattii haguuguu ni taata.
[10] " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Gaafas yaadni sammuu keetti ni dhufa;
atis hammina ni malatta [11] Ati akkana jetta; "Ani biyya gandoonni ishee dallaa hin
qabne tokko nan weerara; ani namoota nagaa fi tasgabbiidhaan jiraatan jechuunis
warra dallaa, balbalaa fi danqaraawwan hin qabne hunda nan dha'a. [12] Ani
nan booji'a; nan saamas; namoota saboota keessaa walitti qabamanii iddoowwan
diigamanitti deebi'anii qubatan kanneen horii fi meeshaaleedhaan sooromanii
handhuura biyyattii keessa jiraatanitti harka koo nan kaasa." [13] Shebaa fi Dedaan,
daldaltoonni Tarshiishii fi gandoonni ishee hundi akkana siin jedhu; "Ati booji'uuf
dhuftee? Ati saamuuf, meetii fi warqee fudhattee deemuuf, horii fi meeshaalee
fudhachuuf, boojuu hedduus qabachuuf tuuta kee walitti qabattee?" '
[14] "Kanaafuu yaa ilma namaa, raajii dubbadhuutii Googiin akkana jedhi:
'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Gaafas yeroo sabni koo Israa'el nagaan jiraatutti
ati waan kana hin qalbeeffattuu? [15] Ati iddoo kee kan kaaba fagootii ni dhufta;
saboonni baay'een kanneen hundi isaanii farda yaabbatan, waldaan guddaan,
loltoonni jajjaboon si wajjin ni dhufu. [16] Ati akkuma duumessa biyya haguuguutti
saba koo Israa'elitti ni kaata. Yaa Googi, akka saboonni yommuu ani karaa keetiin
fuula isaanii duratti qulqullummaa koo argisiisutti na beekaniif, ani bara dhufuuf
jiru keessa biyya kootti sin kaasa.
[17] " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Namni ani bara durii karaa tajaajiltoota koo
raajonni Israa'eliin waa'ee isaa dubbadhe sun si'ii mitii? Yeroo sana isaan akka ani
isaanitti si kaasu bara dheeraaf ni raajan. [18] Gaafas waan kanatu ta'a; yeroo Googi
biyya Israa'el miidhutti aariin koo ni boba'a, jedha WAAQAYYO Gooftaan. [19] Yeroo sana
Israa'el keessatti sochiin lafaa guddaan isaa akka ta'u, ani hinaaffaa fi dheekkamsa
koo boba'aa sanaan nan dubbadha. [20] Qurxummiin galaanaa, simbirroonni samii,
bineensonni dirree, uumamawwan lafa irra munyuuqan, namoonni lafa irra jiraatan

hundi argamuu kootti ni hollatu. Tulluuwwan ni jigu; ededni hallayyaa ni fottoqa;
dallaan hundis ni jiga. 21 Ani tulluuwwan koo hunda irratti Googitti goraadee nan
waama, jedha WAAQAYYO Gooftaan. Goraadeen nama hundaa obboleessa isaatti ni
ka'a. 22 Ani adabbii dha'ichaatii fi dhiiga dhangalaasuu isatti nan mura; isaa fi loltoota
isaatti, saboota isa wajjin jiran hedduuttis bokkaa hamaa, cabbii fi dinyii boba'u nan
roobsa. 23 Kanaanis guddinaa fi qulqullina koo nan argisiisa; fuula saboota baay'ee
durattis of nan beeksisa; ergasii isaan akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku.'

# 39

1 "Yaa ilma namaa, Googiin mormuudhaan raajii dubbadhu; akkanas jedhi:
'WAAQAYYO gooftaan akkana jedha: Yaa Goog, bulchaa hangafticha Meshekii fi
Tuubaal ani sitti ka'eera. 2 Ani dugda duubatti si deebisee gara fuula duraatti sin
oofa. Ani kaaba fagootii si fidee tulluuwwan Israa'elitti sin erga. 3 Ergasii ani harka
kee bitaa irraa iddaa kee dha'ee harka kee mirgaa irraa immoo akka xiyyi kee bu'u
nan godha. 4 Atii fi loltoonni kee hundi, saboonni si wajjin jiranis tulluuwwan Israa'el
irratti ni kuftu. Ani allaattii raqaa kan gosa hundaatii fi bineensota bosonaatiif nyaata
godhee sin kenna. 5 Ati dirree duwwaa irratti ni kufta; ani dubbadheeraatii, jedha
WAAQAYYO Gooftaan. 6 Ani Maagoogii fi warra qarqara galaanaa irra nagaadhaan
jiraatanitti ibidda nan erga; isaanis akka ani WAAQAYYO ta'e ni beeku.

7 " 'Ani akka saba koo Israa'el gidduutti maqaan koo qulqulluun sun beekamu nan
godha. Si'achi akka maqaan koo qulqulluun sun xuraa'u hin godhu; saboonnis akka
ani WAAQAYYO Qulqullicha Israa'el ta'e ni beeku. 8 Kunoo, wanni kun dhufaa jira!
Dhugumaanis ni ta'a, jedha WAAQAYYO Gooftaan. Guyyaan ani jedhes kanaa dha.

9 " 'Ergasii warri magaalaawwan Israa'el keessa jiraatan ba'anii mi'a lolaa jechuu-
nis gaachanawwan xixinnaa fi gurguddaa, iddaa fi xiyya, bokkuu lolaatii fi eeboo
qoraan godhatanii bobeeffatu. Waggaa torbaafis akka qoraaniitti itti fayyadamu.
10 Isaan sababii meeshaalee waraanaa qoraan godhatanii itti fayyadamaniif, dirreed-
haa qoraan funaanuun yookaan bosona keessaa qoraan cabsuun isaan hin bar-
baachisu. Isaan warra isaan saaman ni saamu; warra isaan booji'anis ni booji'u,
jedha WAAQAYYO Gooftaan.

11 " 'Ani gaafas Israa'el keessaa sulula karaa deemtotaa kan gama ba'a Galaanaatiin
jiru sana keessatti Googiif lafa awwaalaa nan kenna. Sababii Googii fi tuunni isaa
hundi achitti awwaalamaniif daandii imaltootaa ni cufu. Kanaafuu inni Sulula
Hamoon Goog jedhamee waamama.

12 " 'Manni Israa'elis biyyattii qulqulleessuuf jedhanii ji'a torba guutuu isaan
awwaalu. 13 Namoonni biyyattii hundi isaan awwaalu; guyyaan ani itti ulfaadhus
guyyaa yaadannoo isaaniif ta'a, jedha WAAQAYYO Gooftaan.

14 " 'Namoonnis akka biyyattii qulqulleessaniif yeroo yerootti ni qaxaramu.
Namoonni tokko tokko guutummaa biyyattii keessa deemu; kaan immoo warra
utuu hin awwaalamin hafan awwaalu. Dhuma ji'a torbaffaattis sakatta'uu jalqabu.
15 Yommuu isaan biyya keessa deemanitti namni lafee namaa arge kam iyyuu
mallattoo itti godha; kunis hamma warri awwaala qotan sun Sulula Hamoon Googiitti
awwaalanitti ta'a. 16 Magaalaan Hamoonaa jedhamtu tokko achi jirti; isaan akkasiin
biyya sana qulqulleessu.'

17 "Yaa ilma namaa, WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Simbirroo gosa hundaa fi
bineensota bosonaa hundatti dubbadhu; akkanas jedhiin: 'Naannoo hundaa walitti
qabamaatii gara aarsaa ani isiniif qopheessuu, aarsaa guddicha tulluuwwan Israa'el
irratti dhi'aatu biratti wal ga'aa. Achittis foon nyaattu; dhiigas ni dhugdu. 18 Akka
waan isaan korbeeyyii fi xobbaallaa hoolaa, re'ootaa fi jiboota ta'aniitti, isin foon
namoota jajjaboo ni nyaattu; dhiiga bulchitoota lafaas ni dhugdu; hundi isaaniis

horii Baashaan kanneen coomanii dha. 19 Aarsaa ani isiniif qopheessu irratti hamma
quuftanitti cooma nyaattu; hamma machooftanitti illee dhiiga dhugdu. 20 Maaddii
koo irraas hamma quuftanitti fardeenii fi warra fardeen yaabbatan, namoota jajjaboo
fi loltoota gosa hundaa ni nyaattu' jedha Waaqayyo Gooftaan.

21 "Ani saboota gidduutti ulfina koo nan argisiisa; saboonni hundi adabbii ani
isaan adabee fi harka koo kan ani isaan irra kaa'e sana ni argu. 22 Gaafa sanaa
jalqabees manni Israa'el akka ani Waaqayyo Waaqa isaa ta'e ni beeka. 23 Saboonnis
akka uummanni Israa'el sababii cubbuu anaaf amanamuu diduu isaaniitiin hojjetan
sanaatiif booji'aman ni beeku. Kanaafuu ani fuula koo isaan irraa garagalfadhee
diinota isaaniitti dabarsee isaan kenne; hundi isaanis goraadeedhaan dhuman. 24 Ani
akkuma xuraa'ummaa isaaniittii fi yakka isaaniittis waan kana isaanitti nan fide;
fuula koos isaan duraa dhokfadhe.

25 "Kanaafuu Waaqayyo Gooftaan akkana jedha: Yaaqoobin boojuudhaa nan
deebisa; uummata Israa'el hundaaf garaa nan laafa; maqaa koo qulqullichaafis nan
hinaafa. 26 Isaan yeroo utuu namni tokko iyyuu isaan hin sodaachisin nagaadhaan
biyya isaanii keessa jiraatanitti qaanii isaaniitii fi naaf amanamuu diduu isaanii
hunda ni irraanfatu. 27 Ani yeroon saboota keessaa isaan deebisee biyyoota diinota
isaanii keessaa walitti isaan qabutti, qulqulluu ta'uu koo karaa isaaniitiin fuula
saboota baay'ee duratti nan argisiisa. 28 Ani akka isaan booji'amanii saboota gidduu
jiraataniif isaan ergu iyyuu, utuu tokkoo isaanii illee duubatti hin hambisin biyya
isaanii keessatti walitti isaan nan qaba; ergasiis isaan akka ani Waaqayyo Waaqa
isaanii ta'e ni beeku. 29 Si'achi ani fuula koo isaan duraa hin dhokfadhu; ani Hafuura
koo mana Israa'el irratti nan dhangalaasaatii, jedha Waaqayyo Gooftaan."

# 40

### *Mana Qulqullummaa Haaraa*

1 Waggaa digdamii shanaffaa booji'amuu keenyaa keessa, waggaa jalqabaatti,
ji'a kurnaffaatti, erga magaalattiin diigamtee booddee waggaa kudha afuraffaatti,
guyyuma sana harki Waaqayyoo narra ture; innis achi na geesse. 2 Mul'ata
Waaqaatiinis gara biyya Israa'el na geessee tulluu baay'ee ol dheeraa irra na dhaabe;
karaa kibba isaatiinis waan ijaarsa magaalaa fakkaatanitu ture. 3 Inni achi na geesse;
anis nama bifti isaa naasii fakkaatu tokko nan arge; innis harka isaatti funyoo fo'aa
quncee talbaatii fi ulee safaraa qabatee balbala dura ijaajjaa ture. 4 Namichi sunis
akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, ati sababii kanaaf waan as fidamteef, ija
keetiin ilaali; gurra keetiinis dhaga'iitii waan ani sitti argisiisu hunda hubadhu. Mana
Israa'elittis waan argite hunda himi."

### *Karra Ba'a Biiftuu*

5 Anis dallaa guutumaan guutuutti lafa mana qulqullummaa marsee jiru tokko nan
arge. Dheerinni ulee ittiin safaran kan harka namicha sanaa keessa ture dhundhuma
ja'aa dha; tokkoon tokkoon dhundhuma sanaa dhundhuma tokkoo fi bal'ina barruu
harkaa tokko ture. Innis dallaa sana safare; dallaan sunis ulee safartuu tokko
yabbatee ulee safartuu tokko ol dheerata ture.

6 Ergasii inni gara balbala gara ba'aa ilaaluutti dhufe. Gulantaawwanitti ol ba'ee
waltajjii balbalaa safare; innis ulee safartuu tokko gad fagaata ture. 7 Sireewwan
eegumsaa ol dheerinni isaanii ulee tokko, bal'inni isaanii immoo ulee tokko ture;
keenyan manneen gidduu turanis dhundhuma shan yabbatu ture. Dooyaan karraa
kan gardaafootti aanee gara mana qulqullummaatti garagalu sunis ulee safartuu
tokko gad fagaata ture.

8 Sana booddee inni gardaafoo balbalaa safare; 9 balballi sunis dhundhuma saddeet
gad fagaatee tuggeewwan isaas dhundhuma lama furdatu turan. Gardaafoon balbala
sanaa gara mana qulqullummaatti garagala ture.
10 Karra gara ba’a biiftuu jiru keessa bitaa fi mirgaan manneen waardiyyootaa
sadii sadiitu ture; sadan isaanii iyyuu wal qixxee turan. Tuggeewwan gama lamaan
jiranis waluma qixxee turan. 11 Ergasii inni bal’ina balbala ittiin ol seenanii safare;
innis dhundhuma kudhan ture; dheerinni isaa immoo dhundhuma kudha sadii ture.
12 Tokkoo tokkoo mana waardiyyaa dura keenyan dhundhuma tokko ol dheeratutu
ture; manneen kunneenis gama lamaaniin dhundhuma ja’a ja’a turan. 13 Ergasiis inni
bantii keenyan manichaa kan boroo irraa jalqabee hamma bantii kaaniitti balbala
sana safare; wal irraa fageenyi isaas balbala tokko irraa hamma balbala kaaniitti
dhundhuma digdamii shan ture. 14 Akkasumas balbala ittiin ol seenan safare; innis
dhundhuma jaatama ta’e; safarri sunis hamma utubaa gara oobdii ilaalu sanaatti
taasifame. 15 Fageenyi balbala ol seensisuu jalqabee hamma dhuma gardaafootti jirus
dhundhuma shantama ta’e. 16 Kutaawwan manichaatii fi keenyan isaa karaa ittiin ol
seenaniin foddaa gama lachuutiin dhiphachaa deemu qabu ture; gardaafoon sunis
akkasuma naanna’ee gara keessaatiin foddaa qaba ture; utubaawwan sun immoo
muka meexxiitiin faayeffamanii turan.

### *Oobdii Alaan Jiru*

17 Ergasii inni gara oobdii alaatti na fide. Achittis dareewwanii fi karaa
dhagaadhaan tolfame tokko naannoo oobdiitti nan arge; qarqara karaa sanaas daree
soddomatu ture. 18 Karaan sunis balbala sana bira ture; bal’inni isaas hamma
ol dheerina balbalawwanii ture; karaan kunis karaa isa gad aanuu dha. 19 Sana
booddee balbala gad aanu keessaa jalqabee hamma oobdii isa keessaa kan gara alaatti
fageenya isaa safare; innis karaa ba’aatii fi karaa kaabaatiin dhundhuma dhibba
tokko ture.

### *Karra Kaabaa*

20 Ergasii inni lafa irra dheerinaa fi bal’ina karra gara kaabaa ilaalu kan gara
oobdii alaatti baasuu safare. 21 Safarri utubaawwanii fi gardaafoo manneen
waardiyyaa kanneen bitaa mirgaan dareewwan sadii sadii qaban sanaas kan karra
jalqabaa wajjin wal qixxee ture. Innis dheerina dhundhuma shantamaatii fi bal’ina
dhundhuma digdamii shanii qaba ture. 22 Foddaawwan isaanii, gardaafoowwan
isaaniitii fi faaya isaanii kan muka meexxii irraa hojjetame safarri isaanii safara
karra gara ba’aa ilaalu wajjin wal qixxee ture. Gulantaawwan gara karra sanaatti
geessan torbatu ture; fuullee isaanii immoo gardaafoo isaatu ture. 23 Akkuma karra
karaa ba’aatiin ture sanaa karra gara kaabaa ilaalu kan gara oobdii keessaatti geessu
tokkotu ture. Innis karra tokko irraa jalqabee hamma karra fuullee isaa jiruutti
safare; innis dhundhuma dhibba tokko ture.

### *Karra Kibbaa*

24 Innis gara kibbaatti na geesse; anis karra gara kibbaa ilaalu nan arge.
Innis utubaawwanii fi gardaafoowwan isaa safare; safarri isaaniis safara warra
kaanii wajjin wal qixxee ture. 25 Karri sunii fi gardaafoon isaa foddaawwan
akkuma foddaawwan kaanii dhidhiphatan naannoo isaaniitii qabu ture. Innis
dheerina dhundhuma shantamaatii fi bal’ina dhundhuma digdamii shanii qaba ture.
26 Gulantaawwan gara karra sanaatti geessan torbatu ture; fuullee isaanii immoo
gardaafoo isaatu ture; balballi sunis fuula utubaawwan sanaa irraa bitaa mirgaan
faaya muka meexxiitiin hojjetame qaba ture. 27 Oobdiin gara keessaas karra gara
kibbaa ilaalu qaba ture; innis karra kana irraa kaasee hamma karra karaa kibbaa
kan gara alaatiin jiruutti safare; safarri isaas dhundhuma dhibba tokko ture.

### *Karrawwan Gara Oobdii Keessaatti Geessan*

28 Ergasiis inni karaa balbala kibbaatiin gara oobdii isa keessaatti na fide; innis
karra kibbaa safare; safarri karra sanaas safara karrawwan kaaniitiin wal qixxee
ture. 29 Safarri manneen waardiyyaa kan utubaawwan isaatii fi kan gardaafoo
isaa safara karrawwan kaanii wajjin wal qixxee ture. Karri sunii fi gardaafoon
isaa foddaawwaniin marfamanii turan. Innis dheerina dhundhuma shantamaa fi
bal'ina dhundhuma digdamii shanii qaba ture. 30 Gardaafoowwan karraa kanneen
naannoo oobdii gara keessaa jiran lafa irra dheerinni isaanii dhundhuma digdamii
shan, bal'inni isaanii immoo dhundhuma shan qaba ture. 31 Gardaafoon isaa gara
oobdii alaa ilaala ture; tuggeewwan isaa muka meexxiitiin faayeffamanii turan;
gulantaawwan saddeetis gara isaa geessu turan.
32 Ergasii inni karaa ba'aatiin gara oobdii isa keessaatti na fide; innis balbala sana
safare; safarri isaas safara karrawwan kaanii wajjin wal qixxee ture. 33 Safarri
manneen waardiyyaa, kan utubaawwan isaatii fi kan gardaafoo isaa safara kar-
rawwan kaanii wajjin wal qixxee ture. Karri sunii fi gardaafoon isaa foddaawwaniin
marfamanii turan. Innis dheerina dhundhuma shantamaa fi bal'ina dhundhuma
digdamii shanii qaba ture. 34 Gardaafoon isaa gara oobdii alaa ilaala ture; tuggeen
isaa bitaa mirgaan muka meexxiitiin faayeffamee ture; gulantaawwan saddeetis gara
isaa geessu turan.
35 Ergasii inni gara karra kaabaatti na fide; isas ni safare. Safarri isaas safara
karrawwan kaanii wajjin wal qixxee ture. 36 Innis akkuma manneen waardiyyaa
isaa, utubaawwan isaatii fi gardaafoo isaa foddaawwaniin marfamee ture. Innis
dheerina dhundhuma shantamaatii fi bal'ina dhundhuma digdamii shanii qaba ture.
37 Gardaafoon isaa gara oobdii alaa ilaala ture; tuggeen isaa bitaa mirgaan muka
meexxiitiin faayeffamee ture; gulantaawwan saddeetis gara isaa geessu turan.

### *Dareewwan Aarsaan Itti Qopheeffamu*

38 Kutaan balballi isaa gara gardaafoo karra sanatti ba'u tokko jira ture; innis
lafa aarsaan gubamu itti miicamu ture. 39 Gardaafoo karraa keessa karaa bitaa fi
mirgaatiin minjaalota lama kanneen aarsaan gubamu, aarsaan cubbuutii fi aarsaan
yakkaa irratti qalamutu ture. 40 Gardaafoo karraa kan gara alaa jiru cina, gulan-
taawwan balbalaa kanneen ittiin gara karra kaabaa seenan bira minjaalota lamatu
ture; gulantaawwan sana irraa qixa kaaniin minjaalota lamatu ture. 41 Kanaafuu
karra sana irraa gara tokkoon minjaalota afur, gara kaaniin immoo minjaalota afur,
walumatti minjaalota saddeeti kanneen aarsaan irratti qalamutu ture. 42 Akkasumas
minjaalota dhagaa soofame irraa aarsaa gubamuuf tolfaman afurtu ture; tokkoon
tokkoon isaaniis dheerina dhundhuma tokkoo fi walakkaa, bal'ina dhundhuma
tokkoo fi walakkaatii fi ol dheerina dhundhuma tokkoo qabu ture. Isaan irras
meeshaalee ittiin aarsaan gubamuu fi aarsaawwan biraa ittiin qalaman kaa'amanii
turan. 43 Hokkoowwan gaanfa lama lama qaban kanneen tokkoon tokkoon isaanii
dheerina barruu harkaa tokko qaban itti qabsiifamanii turan. Minjaalonni sunis kan
foon aarsaawwaniitiif qopheeffaman turan.

### *Dareewwan Lubootaaf Ramadaman*

44 Balbala isa keessaa duubaan oobdii isa keessaa keessa dareewwan lamatu
ture; tokko karaa balbala kaabaa gara kibbaatti garagaleera; tokko immoo karaa
balbala kibbaa gara kaabaatti garagaleera. 45 Innis akkana naan jedhe; "Dareen gara
kibbaatti garagalee jiru luboota warra mana qulqullummaa keessatti ramadamaniifii
dha; 46 kan gara kaabaatti garagalee jiru immoo luboota warra iddoo aarsaatti
ramadamaniifii dha. Warri kunneen ilmaan Zaadoq; kanneen Lewwota keessaa gara
WAAQAYYOOTTI dhi'aatanii fuula isaa dura tajaajilan isaan qofa."

47 Achii immoo oobdii safare; innis roga afur kan wal qixxee ta'ee dheerinni
isaa dhundhuma dhibba tokko, bal'inni isaas dhundhuma dhibba tokkoo ti. Iddoon
aarsaas fuula mana qulqullummaa dura ture.

*Mana Qulqullummaa*

48 Innis gara gardaafoo mana qulqullummaatti na fidee tuggeewwan gardaafoo
sanaa safare; isaanis qixa lamaaniin dhundhuma shan shan babal'atan ture. Bal'inni
balbala isaa immoo dhundhuma kudha afur ture; keenyan isaas qixa lamaaniin
dhundhuma sadii sadii babal'ata ture. 49 Gardaafoon sun bal'inni isaa dhundhuma
digdama, fuula isaa duraa hamma dugda duubaatti immoo dhundhuma kudha lama
ture. Gulantaawwan gara mana qulqullummaatti geessan kudhanitu ture; qixa
lamaaniinis tuggeewwan gurguddaan, tuggeewwan xixinnaa cina turan.

# 41

1 Ergasiis gara mana qulqullummaatti na fidee tuggeewwan isaa safare; bal'inni
tuggeewwan sanaas qixa hundaanuu dhundhuma ja'a ja'a ture. 2 Bal'inni balbala
isaa dhundhuma kudhan, bal'inni isaa immoo karaa hundaan dhundhuma shan
shan ture. Akkasumas inni karaa mana qulqullummaa kan gara alaa safare; innis
dhundhuma afurtama dheeratee bal'inni isaa immoo dhundhuma digdama ture.

3 Sana booddee gara mana qulqullummaa isa gara keessaa seenee utubaawwan
balbalaa safare; tokkoon tokkoon isaaniis dhundhuma lama lama babal'atu ture.
Balballi isaa dhundhuma ja'a bal'atee qixa hundaanuu dhundhuma torba torba
bal'ata ture. 4 Lafa irra dheerina mana qulqullummaa isa gara keessaas ni safare;
innis fiixee tokko irraa hamma fiixee kaaniitti dhundhuma digdama dheeratee
bal'inni isaa immoo dhundhuma digdama ture. Innis, "Kun Iddoo Qulqullummaa
kan Hunda Caaluu dha" naan jedhe.

5 Ergasii immoo keenyan mana qulqullummaa safare; innis yabbinna dhundhuma
ja'a qaba ture; bal'inni dareewwanii kan naannoo mana qulqullummaa biraas
dhundhuma afur afur ture. 6 Dareewwan sunis darbii sadiitti qoodamanii wal
irratti ijaaraman; tokkoon tokkoon darbii immoo dareewwan soddoma soddoma
qaba ture. Dareewwan sana deeggaruufis naannoo keenyan mana qulqullummaa
tuggeewwantu ture; tuggeewwan sun garuu keenyan mana qulqullummaa deeg-
garuuf keessa hin suuqamne. 7 Dareewwan mana qulqullummaa bira jiran sunis
darbiidhaa gara darbiitti babal'achaa deemu turan. Ijaarsi mana qulqullummaa
marsee jiru waan gadii gara oliitti ijaarameef dareewwan sun akkuma ol ba'aa
deemaniin babal'atu turan. Gulantaan tokkos darbii gadiitii jalqabee darbii walakkaa
keessa ba'ee gara darbii oliitti baasa ture.

8 Akkasumas manni qulqullummaa sun naannoo isaatii madabii ol ka'aa akka qabu
nan arge; madabiin sunis dareewwan sanaaf hundee ta'e. Hundeen sunis lafa irra
dheerina ulee tokkoo jechuunis dhundhuma ja'a qaba ture. 9 Keenyan dareewwan
sanaa gara alaatiin dhundhuma shan yabbata ture. Iddoon duwwaan dareewwan
mana qulqullummaatii fi 10 dareewwan lubootaa gidduu jiru kan naannoo mana
qulqullummaa guutumaan guutuutti dhundhuma digdama bal'ata ture. 11 Iddoo
duwwaa sana irraa jalqabees balbalawwan dareewwan sanatti ol seensisan, tokko
karaa kaabaa, kaan immoo karaa kibbaa turan; madabiin iddoo duwwaa sana marsee
jiru dhundhuma shan bal'ata ture.

12 Ijaarsi oobdii mana qulqullummaatti garagalee jiruu karaa dhi'aatiin dhund-
huma torbaatama bal'ata. Keenyan ijaarsa sanaas dhundhuma shan yabbata;
dheerinni isaas dhundhuma sagaltama ture.

13 Ergasii inni mana qulqullummaa safare; dheerinni isaas dhundhuma dhibba
tokko ture; oobdiin mana qulqullummaatii fi ijaarsi sun keenyan isaa wajjin

dhundhuma dhibba tokko dheerata ture. 14 Bal’inni oobdii mana qulqullummaa kan
karaa ba’aatiin jiru iddoo fuullee mana qulqullummaa dabalatee dhundhuma dhibba
tokko ture.
15 Ergasiis inni dheerina ijaarsaa kan gara oobdii isa mana qulqullummaa duubaatti
garagalee jiru keenyan gama lamaanii dabalatee safare; innis dhundhuma dhibba
tokko ture.
Manni qulqullummaa kan gara alaa, kan gara keessaatii fi gardaafoon gara
oobdiitti garagalee jiru, 16 akkasumas waltajjiiwwan, foddaawwan dhidhiphoonii fi
darbiiwwan naannoo sadan isaanii jiran kan waltajjiin oliitii fi waltajjiin mataan
isaa mukaan haguugamee ture. Lafti isaa, keenyan hamma foddaawwaniitti jiruu
fi foddaawwan haguugamanii turan. 17 Keessa iddoo balbala mana qulqullummaa
gubbaan jiruu fi naannoo keenyan mana qulqullummaa kan gara keessaatii fi kan
gara alaa irratti 18 fakkiin kiirubeelii fi mukkeen meexxii tolfamanii turan. Mukkeen
meexxii sunis kiirubeel gidduutti tolfaman. Tokkoon tokkoon kiirubis fuula lama
lama qaba ture: 19 Fuulli namaa tokko gara muka meexxii kan gama tokkoon
jirutti garagalee ture; fuulli leencaa immoo gara muka meexxii kan gama kaaniitti
garagalee ture. Isaanis guutumaan guutuutti mana qulqullummaa irratti marfamanii
tolfamanii turan. 20 Lafa mana qulqullummaa keessaa hamma balbala gubbaa jiruutti
kiirubeelii fi mukkeen meexxii keenyan mana qulqullummaa isa gara alaa irratti
tolfamanii turan.
21 Manni qulqullummaa karaa alaatiin hidhii balbalaa kan roga afurii qaba ture;
hidhiin balbalaa kan Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e fuuldura jirus wal
fakkaata ture. 22 Iddoo aarsaa kan muka irraa tolfame kan ol dheerinni isaa
dhundhuma sadii, lafa irra dheerinni isaa dhundhuma lamaa fi bal’inni isaa immoo
dhundhuma lamaatu ture; goleewwan isaa, madabiin isaatii fi cinaachi isaa muka
irraa tolfame. Namichi sunis, “Maaddiin kun maaddii fuula WAAQAYYOO dura
jiruu dha” naan jedhe. 23 Manni qulqullummaa inni gara alaatii fi Iddoon Iddoo
Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e sun balbala lama lama qabu turan. 24 Tokkoon
tokkoon balbala sanaas saanqaawwan lama lama qaba ture; tokkoon tokkoon balbala
sanaas saanqaawwan qabsiiftuu qaban lama lama qaba ture. 25 Balbalawwan
mana qulqullummaa isa gara alaa irratti kiirubeelii fi mukkeen meexxii akkuma
keenyan manaa irratti tolfaman sana tolfamanii turan; gardaafoo sana fuula
duraanis dibaabee mukaa tokkotu ture. 26 Keenyan bitaa fi mirgaa kan gardaafoo
sanaa irra foddaawwan dhidhiphoo kanneen bitaa mirgaan mukkeen meexxiitiin
faayeffamantu ture. Dareewwan mana qulqullummaa kanneen bitaa fi mirgaas
dibaabeewwan qabu turan.

# 42

*Dareewwan Lubootaaf Ramadaman*

1 Sana booddee namichi sun karaa kaabaatiin gara oobdii alaatti na baasee
gara fuullee dareewwan oobdii mana qulqullummaa fi gara fuullee ijaarsa alaa
kan karaa kaabaa jiruutti na fide. 2 Ijaarsi balballi isaa gara kaabaatti garagalu
sun dheerina dhundhuma dhibba tokkoo fi bal’ina dhundhuma dhibba tokko
qaba ture. 3 Kutaa oobdii isa gara keessaa kan dhundhuma digdamaa keessaa fi
kutaa fuullee madabii oobdii kan gara alaa jiru keessa sadarkaa sadiin darbiin
tokko darbii kaanitti garagalee ture. 4 Dareewwan sana fuula duraanis karaan
mana keessaan nama baasu kan dhundhuma kudhan bal’atee dhundhuma dhibba
tokko dheeratutu ture. Balbalawwan isaaniis karaa kaabaatiin turan. 5 Sababii
darbiiwwan sun iddoo dareewwan kanneen gara gadii irraa fi gamoo isa gidduu
irraa qabatan caalaa dareewwan olii jalaa qabataniif dareewwan olii dhidhiphoo
dha. 6 Dareewwan darbii sadaffaa irra jiran akka oobdiiwwanii utubaawwan hin

qaban ture; kanaafuu darbiiwwan gara gadiitii fi walakkaa jiran caalaa lafa xinnaa
qabu ture. 7 Keenyan karaa alaa tokkos dareewwanii fi oobdii gara alaa fuullee
jira ture; innis dareewwan sana fuula duraan dhundhuma shantamaa dheerata
ture. 8 Dheerinni dareewwan oobdii alaatti aananii tarreedhaan jiranii dhundhuma
shantama, tarreen mana qulqullummaatti aanee jiru immoo dhundhuma dhibba
tokko dheerata ture. 9 Yommuu oobdii alaatii ol seenanitti, balballi karaa ba’aatiin
gara dareewwan gadiitti nama seensisu tokko ni argama ture.

10 Karaa kibbaatiinis dheerina dallaa oobdii gara alaa qabatee, oobdii mana
qulqullummaa qabatee fuullee dallaa gara alaatiin dareewwan 11 fuula isaanii duraan
karaa namni irra darbu qabantu ture. Dareewwan kunneenis akkuma dareewwan
karaa kaabaa sanaa turan; isaanis dheerinaa fi bal’ina, karaa ittiin gad ba’anii
fi guddina wal fakkaatu qabu turan. Balbalawwan karaa kaabaa 12 balbalawwan
dareewwan karaa kibbaa wajjin wal fakkaatu turan. Karaa namni irra darbu kan
dallaa gara ba’aatti ijaarameen wal cina deemuun fuullee jiru kan ittiin dareewwan
seenan tokkotu jira ture.

13 Ergasiis inni akkana naan jedhe; “Dareewwan kaabaatii fi kibbaa kanneen
gara oobdii mana qulqullummaatti garagalanii jiran sun dareewwan lubootaa, iddoo
itti luboonni warri fuula WAAQAYYOO duratti dhi’aatan aarsaa aarsaa hunda caalaa
qulqulluu ta’e nyaatanii dha. Isaanis aarsaa aarsaa hunda caalaa qulqulluu ta’e
jechuunis kennaa midhaanii, aarsaa cubbuutii fi aarsaa yakkaa achi kaa’u; iddoon
sun qulqulluudhaatii. 14 Luboonni iddoo qulqulluu sana takkaa seennaan hamma
uffata ittiin tajaajilan sana of irraa baasanitti gara oobdii gara alaatti hin ba’an;
wayyaan sun qulqulluudhaatii. Isaan utuu iddoo uummataaf ramadametti hin
dhi’aatin uffata biraa uffachuu qabu.”

15 Inni erga waan mana qulqullummaa keessa jiru safaree xumuree booddee karaa
balbala ba’aatiin na baasee naannoo sana hunda safare. 16 Kallattii ba’aas ulee
ittiin safaraniin safare; wanni inni safares dhundhuma dhibba shan ta’e. 17 Kallattii
gara kaabaas safaree safarri sun ulee safaraatiin dhundhuma dhibba shan ta’e.
18 Kallattii kibbaatiinis safaree safarri sun ulee ittiin safaraniin dhundhuma dhibba
shan ta’e. 19 Ergasii inni gara kallattii dhi’aatti garagalee safaree, safarri sun ulee
ittiin safaraniin dhundhuma dhibba shan ta’e. 20 Kanaafuu inni iddoo kallattii
afraniin jiru safare. Iddoon sun dallaa iddoo qulqulluu, iddoo xuraa’aa irraa addaan
baasu kan dheerinni isaa dhundhuma dhibba shan, bal’inni isaas dhundhuma dhibba
shan qaba ture.

# 43

### *Ulfinni Waaqaa Gara Mana Qulqullummaatti Deebi’uu Isaa*

1 Ergasii namichi sun gara balbala ba’a biiftuutti garagaluutti na fide; 2 anis utuu
ulfinni Waaqa Israa’el ba’a biiftuutii dhufuu nan arge. Sagaleen isaa akka sagalee
huursaa bishaan yaa’uu ture; laftis ulfina isaatiin ifte. 3 Mul’anni ani arges mul’ata
ani yommuu inni magaalaa barbadeesuuf dhufetti argee fi mul’ata ani Laga Kebaar
biratti argee ture sana fakkaata; anis adda kootiin lafatti nan gombifame. 4 Ulfinni
WAAQAYYOO sun karaa balbala gara ba’a biiftuutti garagaluun mana qulqullummaa
seene. 5 Ergasiis Hafuurri ol na fuudhee gara oobdii gara keessaatti na fide; ulfinni
WAAQAYYOOs mana qulqullummaa guute.

6 Utuu namichi sun na bira dhaabatee jiruu, nama wayii kan mana qulqullummaa
keessaa natti dubbatu nan dhaga’e. 7 Innis akkana naan jedhe: “Yaa ilma namaa,
kun iddoo teessoo kootii fi faanni miilla koo irra ejjetuu dha. Kunis iddoo ani bara
baraan Israa’eloota gidduu jiraadhuu dha. Manni Israa’el jechuunis isaan yookaan
mootonni isaanii sagaagalummaa isaaniitii fi reeffa mootota isaaniitiin lammata

gaarran waaqeffannaa isaanii irratti maqaa koo qulqulluu sana hin xureessan.
8 Isaan yommuu anaa fi isaan gidduutti dallaa qofa hambisanii buusaa balbala isaanii
buusaa balbala kootii bira, michichila balbala isaanii immoo michichila balbala kootii
bira dhaabatanitti hojii isaanii jibbisiisaa sanaan maqaa koo qulqullicha xureessan.
Kanaafuu ani dheekkamsa kootiin isaanan balleesse. 9 Isaan amma sagaagalummaa
isaaniitii fi reeffa moototа isaanii sana narraa haa fageessani; anis bara baraan isaan
gidduu nan jiraadha.

10 "Yaa ilma namaa, akka isaan cubbuu isaaniitiin qaana'aniif namoota Israa'elitti
mana qulqullummaa argisiisi. Isaan karoora isaa haa hubatan; 11 yoo isaan waan
hojjetan hundatti qaana'an, karoora mana qulqullummaa jechuunis haala inni
ittiin hojjetame, balbala ol seensisuu fi gad baasu, karoora isaa guutuu jechuunis
sirna isaatii fi seera isaa hunda akka beekan godhi. Akka isaan karoora isaatii fi
guutummaa sirna isaatiif amanamanii fi duukaa bu'aniifis fuula isaanii duratti waan
kana barreessi.

12 "Seerri mana qulqullummaa kanaa dha: Lafti naannoo fiixee tulluu jiru hundi
waan hunda caalaa qulqulluudhaa. Kun seera mana qulqullummaa ti.

### *Iddoo Aarsaa*

13 "Lafa irra dheerinni iddoo aarsaa dhundhuma dheeraadhaan isa kana: Innis
dhundhuma tokkoo fi bal'ina barruu harkaa tokkoo dha; jalli isaa gad fageenya
dhundhuma tokkootii fi bal'ina dhundhuma tokkoo qaba; naannoon isaa immoo
xiyyoo taakkuu tokkoo qaba. Ol dheerinni iddoo aarsaa sanaa kana: 14 Jala
isaatii kaasee hamma gulantaa gadiitti ol dheerina dhundhuma lamaatii fi bal'ina
dhundhuma tokkoo qaba; gulantaa xinnaadhaa hamma gulantaa guddaatti ol
dheerina dhundhuma afuriitii fi bal'ina dhundhuma tokkoo qaba. 15 Iddoon ibiddaa
kan iddoo aarsaa dhundhuma afur ol dheerata; badaan ibiddaa kun gaanfawwan ol
babba'an afur qaba. 16 Iddoon ibiddaa kun roga wal qixxee afur qaba; dheerinni isaa
dhundhuma kudha lama, bal'inni isaa immoo dhundhuma kudha lama: 17 Gulantaan
ol aanus roga wal qixxee afur qaba; dheerinni isaa dhundhuma kudha afur, bal'inni
isaas dhundhuma kudha afur; xiyyoon isaa walakkaa dhundhumaa, naannoon jala
isaa immoo dhundhuma tokkoo dha. Gulantaawwan iddoo aarsaa sanaa gara ba'a
biiftuutti garagalu."

18 Inni akkana naan jedhe; "Yaa ilma namaa, WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
Yeroo iddoon aarsaa ijaaramutti dambiiwwan ittiin aarsaan gubamu dhi'eeffamuu
fi dhiigni iddoo aarsaa irratti facaafamu kanaa dha: 19 luboota Lewwota maatii
Zaadoq kanneen na tajaajiluuf fuula koo duratti dhi'aataniif akka aarsaa cubbuu
ta'uuf dibicha kennita, jedha WAAQAYYO Gooftaan. 20 Atis dhiiga isaa irraa xinnoo
fudhattee gaanfa afran kan iddoo aarsaa, goleewwan gulantaa ol aanuu afranii fi
naannoo xiyyoo isaa hunda dibda; haala kanaanis iddoo aarsaa sana qulqulleessitee
araara buufta. 21 Dibicha sanas aarsaa cubbuutiif fuutee iddoo qulqulluudhaan alatti,
kutaa mana qulqullummaa kan waan kanaaf ramadame keessatti ni gubda.

22 "Guyyaa lammaffaatti korbeessa re'ee kan hir'ina hin qabne aarsaa cubbuutiif
dhi'eessita; iddoon aarsaas akkuma dibichaan qulqulleeffame sanatti qulqulleeffama.
23 Erga iddoo aarsaa sana qulqulleessitee booddee, horii keessaa dibichaa fi korbeessa
bushaayee kanneen lamaan isaani iyyuu hir'ina hin qabne dhi'eessita. 24 Ati fuula
WAAQAYYOO duratti isaan dhi'eessita; luboonni immoo soogidda itti facaasanii aarsaa
gubamu godhanii WAAQAYYOOF isaan dhi'eessu.

25 "Ati guyyaa torbaaf guyyuma guyyaan korbeessa re'ee aarsaa cubbuutiif
dhi'eessuu qabda; akkasumas horii keessaa dibichaa fi korbeessa bushaayee kan
hir'ina hin qabne dhi'eessuu qabda. 26 Isaanis guyyaa torbaaf iddoo aarsaatiif araara
buusanii isa qulqulleessuu qabu; akkasittis isa qulqulleessu. 27 Dhuma guyyoota

kanaatti, guyyaa saddeettaffaa irraa jalqabee luboonni aarsaa keessan kan gubamuu fi aarsaa keessan kan nagaa iddoo aarsaa irratti dhi’eessuu qabu. Ergasii ani isinan simadha, jedha WAAQAYYO Gooftaan.”

# 44

*Bulchaa, Lewwota, Lubootа*

[1] Sana booddee namichi sun balbala iddoo qulqulluu kan karaa alaatiin gara ba’a
biiftuutti garagalutti deebisee na fide; balballi sunis cufamee ture. [2] WAAQAYYO
akkana naan jedhe; “Balballi kun cufamee hafa; inni banamuu hin qabu; namni tokko
iyyuu achiin hin seenu. Sababii WAAQAYYO Waaqni Israa’el karaa sanaan seeneef,
balballi sun cufamee hafa. [3] Namni fuula WAAQAYYOO duratti waa nyaachuuf karra
ittiin seenan keessa taa’uu danda’u bulchaa sana qofa. Inni karra ittiin gardaafoo
seenan sanaan ol galee achumaan gad ba’uu qaba.”

[4] Namichi sun karra kaabaatiin gara fuullee mana qulqullummaatti na fide. Anis
mil’adheen akka ulfinni WAAQAYYOO mana qulqullummaa WAAQAYYOO guute arge;
adda kootiinis lafattan gombifame.

[5] WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Yaa ilma namaa, waa’ee danbiiwwan mana
qulqullummaa WAAQAYYOO waan ani sitti himu hunda hubadhuu ilaali; sirriitti
dhaggeeffadhu; qalbeeffadhus. Waa’ee karra ittiin mana qulqullummaa seenaniitii
fi karra ittiin iddoo qulqulluudhaa ba’anii hunda yaadatti qabadhu. [6] Mana Israa’el
fincilaa sanaan akkana jedhi; ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa mana Israa’el,
hojiin keessan jibbisiisaan sun haa ga’u! [7] Hojiiwwan keessan jibbisiisoo kaan
hundatti dabaltanii alagoota yaada garaa fi fooniin dhagna hin qabatin iddoo
qulqulluu kootti galchitan; nyaata, coomaa fi dhiiga naaf dhi’eessuudhaan mana
qulqullummaa koo xureessitan; kakuu koos cabsitan. [8] Isin itti gaafatamummaa
wantoota koo qulqulluu irratti qabdan fiixaan baasuu diddanii iddoo koo qulqulluu
irratti alagoota muuddatan. [9] WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Alagaan yaada
garaa fi fooniin dhagna hin qabatin iddoo koo qulqulluu sana seenuu hin qabu;
alagoonni Israa’eloota gidduu jiraatan iyyuu seenuu hin qaban.

[10] “ ‘Lewwonni warri yeroo Israa’eloonni narraa jal’atanitti waaqota isaanii duukaa
bu’uudhaan jooran cubbuu isaaniitti gaafatamuu qabu. [11] Isaan itti gaafatamummaa
karrawwan mana qulqullummaa qabaachuudhaan, isa keessas tajaajiluudhaan iddoo
qulqulluu koo keessa tajaajiluu danda’u; qalma gubamu qalanii maqaa uummataatiin
dhi’eessuu, fuula uummataa dura dhaabataniis uummata tajaajiluu ni danda’u.
[12] Garuu sababii isaan fuula waaqota isaanii duratti uummata tajaajilanii mana
Israa’el cubbuudhaan kuffisaniif ani akka isaan cubbuu isaaniitti gaafatamaniif
harka ol kaafadhee kakadheera, jedha WAAQAYYO Gooftaan. [13] Isaan luboota ta’anii
na tajaajiluuf natti dhi’aachuu hin qaban yookaan wantoota koo qulqulluu kamitti
iyyuu yookaan aarsaawwan koo kanneen aarsaawwan hunda caalaa qulqulluu
ta’anitti dhi’aachuu hin qaban; qaanii hojiiwwan isaanii jibbisiisoo baadhachuu
qabu. [14] Ta’us ani akka isaan itti gaafatama mana qulqullummaa qabaataniif, akka
isaan hojii isaa hunda hojjetanii fi waan achi keessatti hojjetamuu qabu hunda
hojjetaniif isaan nan muuda.

[15] “ ‘Luboonni warri Lewwotaa fi sanyii Zaadoq ta’anii fi warri yeroo Israa’eloonni
karaa koo irraa jal’atanitti hojii iddoo qulqulluu koo amanamummaadhaan deem-
sisan fuula koo dura tajaajiluudhaaf dhi’aachuu qabu; coomaa fi dhiigas aarsaa
godhanii dhi’eessuuf fuula koo dura dhaabachuu qabu, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
[16] Iddoo qulqulluu koo isaan qofatu seenuu qaba; isaan qofatu na tajaajiluu fi hojii
koo hojjechuuf maaddii kootti dhi’aachuu qaba.

17 “ ‘Isaan yeroo karra oobdii gara keessaatiin seenanitti wayyaa quncee talbaa
irraa dha’ame uffachuu qabu; yeroo karra oobdii gara keessaa dura yookaan mana
qulqullummaa keessa tajaajilanitti wayyaa suufii irraa dha’ame kam iyyuu uffachuu
hin qaban. 18 Isaan marata quncee talbaa irraa dha’ame mataa isaaniitti maratanii
wayyaa jalaa kan quncee talbaa irraa dha’ame mudhii isaaniitti hidhachuu qabu.
Wayyaa isaan dafqisiisu kam iyyuu uffachuu hin qaban. 19 Isaan yeroo gara oobdii
alaa iddoo uummanni jirutti gad ba’anitti uffata ittiin tajaajilaa turan sana of irraa
baasanii dareewwan qulqulluu keessa kaa’uu qabu; akka uffata isaaniitiin uummata
hin qulqulleessineefis uffata biraa uffachuu qabu.
20 “ ‘Rifeensa mataa isaanii haaddachuu yookaan guddisuu hin qaban; garuu
rifeensa mataa isaanii murachuu qabu. 21 Lubni kam iyyuu yeroo oobdii gara keessaa
seenutti daadhii wayinii dhuguu hin qabu. 22 Isaan haadha hiyyeessaa yookaan
niitii dhirsi hiike fuudhuu hin qaban; durba sanyii Israa’el yookaan niitii lubni
irraa du’e qofa fuudhuu danda’u. 23 Isaan garaa garummaa waan qulqulluu fi waan
qulqulluu hin ta’in gidduu jiru saba koo barsiisanii akka isaan waan xuraa’aa fi waan
qulqullaa’aa addaan baafatan itti argisiisuu qabu.
24 “ ‘Falmii kam iyyuu keessatti luboonni akka abbootii seeraatti haa tajaajilan;
akka sirna koottis haa murteessan. Isaan seera koo fi ajaja koo kan ayyaana kootiif
murteeffame hundaaf kenname sana eeguu qabu; Sanbatoota koos qulqulleessanii
eeguu qabu.
25 “ ‘Lubni tokko nama du’etti dhi’aachuudhaan of xureessuu hin qabu; haa ta’u
malee yoo namni du’e sun abbaa isaa yookaan haadha isaa, ilma isaa yookaan intala
isaa, obboleessa isaa yookaan obboleettii isaa kan hin heerumin ta’e garuu inni of
xureessuu danda’a. 26 Inni erga qulqullaa’ee booddee guyyaa torba eeguu qaba.
27 Innis gaafa iddoo qulqulluu keessa tajaajiluuf oobdii iddoo qulqulluu isa gara
keessaa seenutti aarsaa cubbuu waa’ee ofii isaatiif dhi’eessuu qaba, jedha Waaqayyo
Gooftaan.
28 “ ‘Dhaalli luboonni qaban anuma qofa. Isin Israa’el keessatti qabeenya tokko
illee isaaniif kennuu hin qabdan; ani qabeenya isaanii nan ta’a. 29 Isaan kennaa
midhaanii, aarsaa cubbuutii fi aarsaa yakkaa ni nyaatan; wanni Israa’el keessaa
Waaqayyoof kenname hundi kan isaanii ni ta’a. 30 Mataa oomisha midhaanii keessaa
filatamaan hundii fi kennaan keessan kan addaa hundinuu kan lubootaa ti. Akka
eebbi warra mana keessan jiraataniif dhufuuf, daakuu keessan keessaa kan jalqabaa
isaaniif kennuu qabdu. 31 Luboonni simbira yookaan horii, waan du’ee argame
yookaan kan bineensi madeesse kam iyyuu nyaachuu hin qaban.

# 45

*Biyyattii Hirachuu*

1 “ ‘Isin yeroo lafa ixaadhaan dhaala godhattanii qoqqooddattanitti, biyyattii
keessaa kutaa dheerinni isaa dhundhuma 25,000, bal’inni isaa immoo dhundhuma
20,000 ta’e tokko aanaa qulqulluu gootanii Waaqayyoof kennuu qabdu; lafti sunis
guutumaan guutuutti qulqulluu ta’a. 2 Kana keessaas lafti rogni isaa wal qixxee kan
lafa irra dheerinni isaa dhundhuma 500, bal’inni isaas dhundhuma 500 ta’e iddoo
qulqulluudhaaf, dhundhumni 50 immoo iddoo duwwaa naannoo isaatti hafuuf haa
ta’u. 3 Aanaa qulqulluu sana irraas kutaa lafa irra dheerinni isaa dhundhuma 25,000,
bal’inni isaa immoo dhundhuma 10,000 safari. Isa keessas iddoo qulqulluu jechuunis
Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’etu jiraachuu qaba. 4 Iddoon kunis lafa sana
keessatti luboota iddoo qulqulluu keessatti tajaajilanii fi kanneen fuula Waaqayyoo
duratti tajaajiluuf dhi’aataniif kutaa qulqulluu ni ta’a. Innis iddoo manneen isaaniitii
fi iddoo mana qulqullummaa ta’a. 5 Lafti dhundhuma 25,000 dheeratee bal’inni isaa

immoo dhundhuma 10,000 ta’e akka isaan magaalaa keessa jiraatan itti ijaarrataniif
Lewwota mana qulqullummaa keessa tajaajilaniif ta’a.
6 “ ‘Lafa bal’inni isaa dhundhuma 5,000, dheerinni isaa immoo dhundhuma 25,000
ta’e kutaa qulqulluu sanatti aansaatii akka qabeenya ishee ta’uuf magaalaa sanaaf
kennaa; innis mana Israa’el hundaaf ta’a.
7 “ ‘Bulchaan sunis lafa aanaa qulqulluu sanaatii fi qabeenya magaalaa gama
lamaaniinuu daangessitu tokko qabaata. Lafti sunis karaa lixaatiin gara lixaatti
diriirtee karaa ba’aatiin immoo gara ba’aatti diriirtee kutaalee lafa gosaa keessaa
tokko biraan daarii lixaatii hamma daarii ba’aatti dheeratti. 8 Lafti kun Israa’el
keessatti handhuuraa isaa taati. Bulchitoonni koos akka manni Israa’el akkuma gosa
isaaniitti lafa handhuuraa qabaatan godhu malee si’achi saba koo hin hacuucan.
9 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yaa bulchitoota Israa’el isin seera dabar-
taniirtu! Jeequmsaa fi hacuuccaa keessan dhiisaatii waan sirrii ta’ee fi qajeelaa
hojjedhaa. Saba koo hin saaminaa, jedha WAAQAYYO Gooftaan. 10 Isin madaalii sirrii,
iifii sirrii fi baadoosii* sirrii ta’etti fayyadamuu qabdu. 11 Iifii fi baadoosiin wal qixxee
ta’uu qabu; baadoosiin tokko homeerii† kudhan keessaa tokko, iifiin tokko immoo
homeerii kudhan keessaa tokko qabata; kanaafuu homeeriin lachan isaaniitiifuu
madaalii walii galaa ta’a. 12 Saqiliin‡ tokko geeraa§ digdama qabata; saqiliin jaatamni
immoo minnaanii* tokko ta’a.

### *Aarsaawwanii fi Guyyoota Ayyaanaa*

13 “ ‘Kennaan isin dhi’eessuu qabdan kanaa dha: Tokkoo tokkoo qamadii homeerii
tokkoo keessaa iifii qooda ja’a keessaa qooda tokko, tokkoo tokkoo garbuu homeerii
tokkoo keessaa iifii qooda ja’a keessaa qooda tokko. 14 Zayitiin ajajame yoo
baadoosiidhaan safarame, baadoosii qooda kudhan keessaa qooda tokko kan tokkoo
tokkoo qoroosii† irraa fudhatamee dha. Qoroosiin tokko baadoosii kudhan yookaan
homeerii tokko qabaata; baadoosiin kudhan homeerii tokkoon wal qixxeedhaatii.
15 Akkasumas lafa tika Israa’el kan bishaan quufe irraa bushaayee dhibba lama
keessaa hoolaa tokko haa fudhatu. Kun hundi akka sabaaf araarri bu’uuf kennaa
midhaanii, aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaatiif ta’a, jedha WAAQAYYO Gooftaan.
16 Sabni biyyattii hundinuu kennaa kana bulchaa Israa’eliif ni kenna. 17 Yeroo
ayyaanotaatti, yeroo Ayyaana Baatiitti, guyyoota Sanbataatti, yeroo ayyaanota mana
Israa’eliif murteeffaman hunda aarsaa gubamu, kennaa midhaaniitii fi dhibaayyuu
dhi’eessuun itti gaafatama bulchaa ti. Innis akka mana Israa’eliif araarri bu’uuf
aarsaa cubbuu, kennaa midhaanii, aarsaa gubamuu fi aarsaa nagaa ni dhi’eessa.
18 “ ‘WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Guyyaa jalqabaa, ji’a jalqabaatti dibicha
hir’ina hin qabne geessitee mana qulqullummaa ni qulqulleessita. 19 Lubichis dhiiga
aarsaa cubbuu sana irraa waa fuudhee dhaabawwan balbala mana qulqullummaa
irra, qarqara goleewwan iddoo aarsaa kanneen ol aannan afranii fi dhaabawwan
karra oobdii kan gara keessaa irra dibuu qaba. 20 Nama utuu itti hin yaadin yookaan
utuu hin beekin cubbuu hojjetu kamiif iyyuu ji’a sana keessaa bultii torbaffaatti
akkasuma gochuu qabdan; isin akkasitti mana qulqullummaa sanaaf araara buuftu.
21 “ ‘Ji’a jalqabaa keessa, bultii kudha afuraffaatti isin Faasiikaa jechuunis ayyaana
torban tokko turu ayyaaneffattu; yeroo kanattis buddeena raacitii malee tolfame
nyaatu. 22 Gaafas bulchaan sun ofii isaatii fi uummata biyyattii hundaaf dibicha
tokko aarsaa cubbuu godhee dhi’eessuu qaba. 23 Innis yeroo ayyaana bultii torbaa
sana keessa guyyuma guyyaan korommii loonii torbaa fi korbeeyyii hoolaa torba

---

* **45:10** 45:10 Baadoosiin tokko liitiroo 40. † **45:11** 45:11 Homeeriin tokko kiiloo giraamii 400. ‡ **45:12** 45:12 Saqiliin tokko giraamii 11.5. § **45:12** 45:12 Geeraan tokko giraamii 6. * **45:12** 45:12 Minnaaniin tokko giraamii 600. † **45:14** 45:14 Qoroosiin tokko kiiloo giraamii 400.

kanneen hir'ina hin qabne aarsaa gubamu godhee, korbeessa re'ee tokko immoo
aarsaa cubbuu godhee WAAQAYYOOF dhi'eessuu qaba. 24 Tokkoo tokkoo dibicha
looniitiif iifii tokko, tokkoo tokkoo korbeessa hoolaatiifis iifii tokko kennaa midhaanii
godhee, zayitii iinii tokkoos tokkoo tokkoo iifii sanaatti dabalee qopheessuu qaba.
25 " 'Yeroo ayyaana bultii torba turu kan ji'a torbaffaa keessa guyyaa kudha
shanaffaatti jalqabamu sana keessa illee aarsaa cubbuutiif, aarsaa gubamuuf, kennaa
midhaaniitii fi kan zayitiitiif akkasuma haa qopheessu.

# 46

1 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Karri oobdii gara keessaa kan ba'a biiftuutti
garagalu guyyaa hojii ja'anuu cufamuu qaba; gaafa Sanbataatii fi guyyaa Ayyaana
Baatii garuu banamuu qaba. 2 Bulchaan sun karaa gardaafoo balbalaatiin ol galee
dhaaba balbalaa bira dhaabachuu qaba. Luboonni immoo aarsaa isaa kan gubamuu
fi aarsaa isaa kan nagaa dhi'eessuu qabu. Innis buusaa karraa duratti sagadee
ergasii gad ba'uu qaba; karri sun garuu hamma galgalaatti hin cufamu. 3 Guyyoota
Sanbataattii fi Baatii Haaraatti sabni biyyattii karra ittiin ol seenan irratti fuula
WAAQAYYOO duratti sagaduu qaba. 4 Aarsaan gubamu kan bulchaan sun guyyaa
Sanbataatiin WAAQAYYOOF fidu xobbaallaawwan hoolaa ja'aa fi korbeessa hoolaa
tokko, kanneen hundi isaanii mudaa hin qabne ta'uu qabu. 5 Kennaan midhaanii
kan korbeessa hoolaa wajjin kennamu sun iifii[*] tokko, kennaan midhaanii kan
xobbaallaawwan hoolaa wajjin kennamu immoo akkuma bulchaan sun fedhetti
ta'ee tokkoo tokkoo iifii sanaatti zayitiin iiniin[†] tokko dabalamee dhi'eeffamuu
qaba. 6 Innis guyyaa Baatii Haaraatti dibicha tokko, xobbaallaawwan hoolaa
ja'aa fi korbeessa hoolaa tokko, kanneen hundi isaanii iyyuu mudaa hin qabne
dhi'eessuu qaba. 7 Iifii tokko korma loonii wajjin, iifii tokko korbeessa hoolaa wajjin,
xobbaallaawwan hoolaa wajjin immoo akkuma bulchaan sun kennuu fedhetti kennaa
midhaanii godhee tokkoo tokkoo iifii sanaatti zayitii iinii tokko dabalee dhi'eessuu
qaba. 8 Bulchaan sun yeroo ol seenutti karaa gardaafoo karra sanaatiin seenuu,
karuma sanaanis gad ba'u qaba.
9 " 'Yoo sabni biyyattii guyyaa ayyaana murteeffameetti fuula WAAQAYYOO duratti
dhi'aatutti namni waaqeffachuudhaaf karra gama kaabaatiin ol seenu kam iyyuu,
karra gama kibbaatiin ba'uu qaba; namni karra gama kibbaatiin seenu kam iyyuus
karra gama kaabaatiin ba'uu qaba; namni kam iyyuu karra karra sanatti dugda galee
jiruun ba'uu qaba malee karra ittiin seene sanaan ba'uu hin qabu. 10 Bulchaan sunis
isaan gidduu jiraachuu qaba; inni yeroo isaan ol seenanitti seenee yeroo isaan gad
ba'anitti ba'a.
11 " 'Guyyoota ayyaanaatii fi ayyaanota murteeffamaniif, kennaan midhaanii iifii
tokko dibicha tokko wajjin, iifii tokko korbeessa hoolaa tokko wajjin, xobbaallaawwan
hoolaa wajjin immoo akkuma namichi sun kennuu fedhetti tokkoo tokkoo iifiitti
zayitii iinii tokko dabalee dhi'eessuu qaba. 12 Yommuu bulchaan fedhii isaatiin
WAAQAYYOOF aarsaa dhi'eessutti jechuunis yommuu aarsaa gubamu yookaan aarsaa
nagaa dhi'eessutti karri gara ba'a biiftuutti garagaluu isaaf banamuu qaba. Inni
akkuma guyyaa Sanbataa godhu sana aarsaa isaa kan gubamu yookaan aarsaa isaa
kan nagaa dhi'eessuu qaba. Ergasii inni ba'ee deema; erga inni deemee booddee
karri sun ni cufama.
13 " 'Ati guyyuma guyyaan xobbaallaa hoolaa waggaa tokkoo kan mudaa hin qabne
aarsaa gubamu gootee WAAQAYYOOF dhi'eessuu qabda; waan kanas ganama ganama
dhi'eessita. 14 Kana wajjinis daakuu midhaanii iifii ja'a keessaa tokko, daakuu
sana jiisuufis zayitii iinii sadii keessaa tokko itti dabaltee ganama ganama kennaa

[*] 46:5 46:5 Iifiin tokko kiiloo giraamii 40. [†] 46:5 46:5 Iiniin tokko liitiroo 6.

midhaanii dhi'eessuu qabda; kennaa midhaanii kana WAAQAYYOOF dhi'eessuun sirna
baraa baraa ti. 15 Kanaafuu xobbaallaan hoolaa, kennaan midhaaniitii fi zayitiin
aarsaa gubamu kan yeroo hundaatiif ganama ganama haa dhi'eeffamu.
16 " 'WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: Yoo bulchaan sun dhaala isaa irraa ilmaan
isaa keessaa isa tokkoof kenne dhaalli sun sanyii isaatiifis ni ta'a; kunis dhaalaan
handhuuraa isaanii ta'a. 17 Haa ta'u malee yoo bulchaan sun dhaala isaa irraa
garboota isaa keessaa isa tokkoof kenne garbichi sun hamma waggaan inni itti
bilisoomu ga'utti kan isaa ti; sana booddee dhaalli sun bulchaa sanaaf deebi'a.
Dhaalli isaa ilmaan isaa qofaaf ta'a; dhaalli sun kan isaanii ti. 18 Bulchaan sun
qabeenya isaa irraa isaan buqqisee dhaala sabaa kam iyyuu fudhachuu hin qabu.
Akka sabni koo kam iyyuu qabeenya isaa irraa hin buqqifamneefis inni qabeenya
isaa irraa ilmaan isaatiif dhaala isaanii kennuu qaba.' "
19 Ergasii namichi sun balbala isa karra gara dareewwan qulqulluu gara kaabaatti
garagalanii jiran kanneen lubootaaf kennamanitti geessu cina jiru keessaan na baasee
moggaa gara dhi'aatiin iddoo tokko natti argisiise. 20 Innis akkana naan jedhe;
"Iddoon kun iddoo itti luboonni uummata qulqulleessuuf jedhanii akka aarsaan gara
oobdii alaatti gad hin baafamneef aarsaa yakkaatii fi aarsaa cubbuu bilcheessanii
kennaa midhaanii immoo itti tolchanii dha."
21 Innis ergasii gara oobdii alaatti na baasee golee isaa afran irra na naannesse; ani
immoo tokkoo tokkoo golee sanaa keessatti oobdii biraa nan arge. 22 Goleewwan
oobdii alaa afran keessa oobdiiwwan xixinnaatu ture; isaanis lafa irra dheerina
dhundhuma afurtamaa fi bal'ina dhundhuma soddoma qabu; bal'inni tokkoo tokkoo
oobdiiwwan goleewwan afran keessa jiranii wal qixxee ture. 23 Naannoo tokkoo
tokkoo goleewwan afranii keessa marsaa dhagaa kan naannoo isaa jalatti iddoon
ibiddaa jiru tokkotu ijaaramee ture. 24 Innis, "Isaan kunneen manneen warri mana
qulqullummaa keessa tajaajilan aarsaawwan sabaa itti bilcheessanii dha" naan jedhe.

# 47

*Laga Mana Qulqullummaatii Yaa'u*

1 Namichi sun deebisee gara balbala mana qulqullummaatti na fide; anis bishaan
gulantaa mana qulqullummaa jalaa ba'ee gara ba'a biiftuutti yaa'u nan arge; manni
qulqullummaa sun gara ba'a biiftuutti garagala tureetii. Bishaan sunis kibba mana
qulqullummaa jalaa ba'ee kibba iddoo aarsaatiin gad yaa'a ture. 2 Ergasii karaa
balbala kaabaatiin na baasee ala keessa na naannessee gara karra alaa kan gara ba'a
biiftuutti garagalee jiruutti na fide; bishaan sunis karaa kibbaatiin yaa'a ture.
3 Namichi sunis funyoo ittiin safaru harkatti qabatee gara ba'a biiftuutti deemuud-
haan dhundhuma kuma tokko safare; ergasiis bishaan koronyoo ga'u keessa na
deemsise. 4 Ammas dhundhuma kuma tokko safaree bishaan jilba ga'u keessa na
deemsise; itti aansees dhundhuma kuma tokko safaree bishaan mudhii ga'u keessa
na deemsise. 5 Ammas inni dhundhuma kuma tokko safare; sababii bishaan sun
guutee tureef ani laga sana ce'uu hin dandeenye; lagni sun daakuudhaaf akka malee
gad fagoo waan ta'eef namni tokko iyyuu ce'uu hin danda'u ture. 6 Innis, "Yaa ilma
namaa, waan kana argitaa?" naan jedhe.
Ergasii inni deebisee gara afaan lagaatti na fide. 7 Anis yommuun achi ga'etti
bitaa fi mirga laga sanaatti mukkeen hedduu nan arge. 8 Innis akkana naan jedhe;
"Bishaan kun gara biyya ba'a biiftuutti yaa'ee gara Arabbaatti bu'ee galaanatti
makama. Yommuu galaanatti makamuttis bishaan sun ni qulqullaa'a. 9 Iddoo lagni
sun itti yaa'u hunda uumamawwan lubbuu qabeeyyiin ni jiraatu ture. Sababii
bishaan kun achi yaa'ee bishaan qulqulleessuuf, qurxummiin baay'inaan argama;
kanaafuu lafa bishaan sun itti yaa'u wanni hundi ni jiraata. 10 Qurxummii qabdoonni

qarqara bishaanii dhadhaabatu; lafti Een Gaadiidhaa hamma Een Eglayiimiitti
jiru lafa itti kiyyoo diriirsan ta'a; qurxummiin isaas akkuma qurxummii Galaana
Meeditiraaniyaan gosa adda addaa qabaata. 11 Raaree fi caffaan garuu hin
qulqullaa'u; isaanis soogidda ta'anii hafu. 12 Mukkeen ija naqatan gosti hundinuu
bitaa fi mirga qarqara laga sanaatti ni guddatu. Baalawwan isaanii hin gogan
yookaan ija hin dhaban. Sababii bishaan iddoo qulqulluudhaa gara isaaniitti yaa'uuf
mukkeen sun ji'a ji'aan ija naqatu. Iji isaanii nyaataaf, baalli isaanii immoo nama
fayyisuuf fayyada."

### *Daangaawwan Biyyattii*

13 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha: "Daangaawwan kunneen daangaawwan isin
ittiin biyyattii dhaala gootanii gosoota Israa'el kudha lamaaniif qoqqoodanii dha;
Yoosef qooda lama haa argatu. 14 Isin wal qixxeessitanii isaaniif qoqqooduu qabdu.
Sababii ani abbootii keessanii kennuuf harka ol kaafameen kakadheef biyyattiin kun
dhaala keessan ni taati.

15 "Daangaan biyyattii kanaa dha:

"Karaa kaabaatiin Galaana Meeditiraaniyaanii kaasee daandii Hetilooniitiin karaa Haamaat darbee hamma Zedaadi ga'utti, 16 Beerootaanii fi Sibraayim isa daangaa Damaasqootii fi Hamaatii gidduutti argamu irraa hamma Hazeer Hatiikoon isa daangaa Hawiraanii irratti argamu sanaa ga'a. 17 Daangaan kun galaana irraa ka'ee karaa kaabaatiin daangaa Damaasqoo qabatee, daangaa Hamaatis gara kaabaatti dhiisee hamma Hazar Eenooniitti deema. Kunis daangaa kaabaa ta'a.

18 Daangaan sun karaa ba'a biiftuutiin Hawiraanii fi Damaasqoo gidduu ba'ee Yordaanosin qabatee Gili'aadii fi biyya Israa'el gidduudhaan karaa Galaana ba'a biiftuutiin hamma Taamaaritti deema. Kunis daangaa ba'a biiftuu ni ta'a.

19 Innis karaa kibbaatiin Taamaarii ka'ee hamma bishaan Mariibaa Qaadeshiitti deema; ergasiis laga Gibxi qabatee hamma Galaana Guddichaatti deema. Kun daangaa kibbaa ta'a.

20 Karaa lixaatiin immoo hamma iddoo fuullee Hamaati jiru tokkootti Galaanni Meeditiraaniyaan daangaa isaa ni ta'a. Kunis daangaa lixaa ni ta'a.

21 "Isinis akkuma baay'ina gosoota Israa'elitti biyya kana ni qoqqooddattu. 22 Isin
ofii keessanii fi alagoota isin gidduu jiraatan kanneen ijoollee qabaniif biyyattii
dhaala godhaatii ixaadhaan qoqoodaa. Akka dhalattoota Israa'elittis isaan ilaalaa;
isaanis isin wajjin gosoota Israa'el gidduutti ixaadhaan dhaala qooddachuu qabu.
23 Isin alagaa gosa kam iyyuu keessa qubateef dhaala isaa kennuufii qabdu" jedha
WAAQAYYO Gooftaan.

## 48

### *Qoqqoodamuu Biyyattii*

1 "Gosoonni maqaan isaanii galmeeffame kanneenii dha:

"Karaa daarii kaabaatiin gosti Daan qooda tokko qabaata; kunis daandii Hetiloon qabatee hamma qaxxaamura Hamaatitti deema; Hazar Eenaanii fi daariin Damaasqoo kan gara kaabaa inni Hamaatitti aanee jiru daarii isaa kan karaa ba'aatii jalqabee hamma karaa lixa biiftuutti jiruu ta'a.

2 Gosti Aasheer qooda tokko qabaata; kunis biyya Daan kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.

3 Gosti Niftaalem qooda tokko qabaata; kunis biyya Aasheer kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.
4 Gosti Minaasee qooda tokko qabaata; kunis biyya Niftaalem kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.
5 Gosti Efreem qooda tokko qabaata; kunis biyya Minaasee kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.
6 Gosti Ruubeen qooda tokko qabaata; kunis biyya Efreem kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.
7 Gosti Yihuudaa qooda tokko qabaata; kunis biyya Ruubeen kan ba'aa hamma lixaatti jiru daangessa.

8 "Biyyi ba'a biiftuutii gara lixa biiftuutti Yihuudaa daangessu qooda isin kennaa addaa gootanii dhi'eessuu qabdanii dha. Bal'inni isaas dhundhuma 25,000, dheerinni isaa immoo ba'a biiftuutii gara lixa biiftuutti qooda gosaa keessaa isa tokko wajjin wal qixxee ta'a; iddoon qulqulluun sunis biyya sana gidduutti argama.
9 "Qoodni addaa kan isin WAAQAYYOOF dhi'eessuu qabdan dheerinni isaa dhund-
huma 25,000, bal'inni isaa immoo dhundhuma 10,000 ta'a. 10 Kunis lubootaaf
qooda qulqulluu ta'a. Innis karaa kaabaatiin dhundhuma 25,000 dheerata; karaa lixa biiftuutiin dhundhuma 10,000 bal'ata; karaa ba'a biiftuun dhundhuma 10,000 bal'ata; karaa kibbaatiin immoo dhundhuma 25,000 dheerata. Manni qulqullummaa
WAAQAYYOOS gidduu isaatti argama. 11 Kunis luboota qulqullaa'oo jechuunis
ilmaan Zaadoq kanneen amanamummaadhaan na tajaajilaa turan kanneen yeroo Israa'eloonni karaa irraa badanitti akka Lewwonni karaa irraa badan sana karaa
irraa hin badin sanaaf ta'a. 12 Innis qooda biyyattii isa qulqulluu irraa jechuunis
qooda qulqulluu kan qooda hunda caalaa qulqulluu ta'e irraa kan biyya Lewwotaa daangessu sun isaaniif kennaa addaa ta'a.
13 "Biyya lubootaa biraan Lewwonni lafa dheerinni isaa dhundhuma 25,000, bal'inni isaa immoo dhundhuma 10,000 qabaatu. Walumaa galatti dheerinni isaa
dhundhuma 25,000 bal'inni isaa immoo dhundhuma 10,000 ta'a. 14 Isaanis lafa sana
irraa waan tokko illee gurguruu yookaan geeddaruu hin qaban. Lafti kun biyyattii keessaa filatamaa dha; sababii WAAQAYYOOF qulqulluu ta'eefis harka nama biraatti darbuu hin qabu.
15 "Lafti hafe kan bal'inni isaa dhundhuma 5,000, dheerinni isaa immoo dhund-
huma 25,000 ta'e faayidaa magaalattiitiif oola; kunis ijaarsa manneeniitii fi lafa
dheedaatiif ta'a. Magaalattiin immoo isa gidduu jiraatti; 16 magaalattiinis karaa
kaabaatiin dhundhuma 4,500, karaa kibbaatiin dhundhuma 4,500, karaa ba'aatiin
dhundhuma 4,500 karaa lixaatiinis dhundhuma 4,500 bal'atti. 17 Magaalattiin
kaabaan dhundhuma 250, kibbaan dhundhuma 250, ba'aan dhundhuma 250,
dhi'aanis dhundhuma 250 lafa dheedaa ni qabaatti. 18 Wanni lafa sana irraa hafe
kan kutaa qulqulluu daangessuu fi dheerina lafa sanaa qabatee jiru karaa ba'aatiin dhundhuma 10,000, karaa dhi'aatiin illee dhundhuma 10,000 ni ta'a. Oomishni lafa
sanaas hojjettoota magaalattiitiif nyaata ni ta'a. 19 Hojjettoonni magaalattii kanneen
lafa qotatan gosoota Israa'el hunda keessaa dhufu. 20 Kutaan lafa sanaa hundi roga
wal qixxee afur qabaata; tokkoon tokkoon roga sanaas dhundhuma 25,000 ta'a. Qabeenya magaalaa wajjinis akka kennaa addaa ta'uuf kutaa qulqulluu hambisaa.
21 "Wanni karaa kutaa qulqulluu lamaanii fi qabeenya magaalattii irraa hafe
bulchaa sanaaf ta'a. Innis karaa ba'aa kutaa qulqulluu kan dhundhuma 25,000 dheeratu sana irraa jalqabee gara daangaa ba'aatti, karaa dhi'aa immoo lafa dhundhuma 25,000 dheeratu sana irraa jalqabee gara daangaa dhi'aatti bal'ata. Lafti dheerina qoodawwan gosaa qabatee jiru sun lamaan bulchaa sanaaf ta'a; kutaan qulqulluun iddoo qulqulluu kan mana qulqullummaa wajjin jiru sun isaan gidduutti

argama. 22 Kanaafuu qabeenyi Lewwotaatii fi qabeenyi magaalattii lafa bulchaa
sanaaf kenname sana walakkaatti argama. Lafti bulchaa sanaaf kenname sunis
daangaa Yihuudaatii fi daangaa Beniyaam gidduutti argama.

23 "Qoodni gosoota hafanii kan armaan gad jiruu dha:

"Gosti Beniyaam qooda tokko qabaata; kunis gara ba'aatii hamma gara dhi'aatti bal'ata.
24 Gosti Simi'oon qooda tokko qabaata; kunis ba'aa hamma lixaatti biyya Beniyaam daangessa.
25 Gosti Yisaakorii qooda tokko qabaata; kunis ba'aa hamma lixaatti biyya Simi'oon daangessa.
26 Gosti Zebuuloon qooda tokko qabaata; kunis ba'aa hamma lixaatti biyya Yisaakor daangessa.
27 Gosti Gaad qooda tokko qabaata; kunis ba'aa hamma lixaatti biyya Zebuuloon daangessa.
28 Daangaan Gaad kan karaa kibbaa sun Taamaarii jalqabee hamma bishaan Mari-ibaa Qaadeshiitti, ergasiis ededa Laga Gibxi irra hamma Galaana Guddichaatti gara Kaabaa deema.

29 "Kunis biyya isin dhaala gootanii ixaadhaan gosoota Israa'eliif qoqqooduu qabdanii dha; isaan kunneenis qoodawwan isaanii ta'an" jedha Waaqayyo Gooftaan.

### *Karrawwan Magaalaa Sanaa*

30 "Karrawwan magaalaa sana keessaa ittiin ba'an kanneenii dha:

"Karaa kaabaatii jalqabee kan dhundhuma 4,500 dheeratu, 31 karrawwan mag-
aalaa sanaa maqaa gosoota Israa'eliin moggaafamu. Karrawwan sadan karaa kaabaatiin jiran karra gosa Ruubeen, karra gosa Yihuudaa fi karra gosa Lewwii ta'u.
32 Karaa ba'aa karrawwan dhundhuma 4,500 dheeratan sadiitu jira; isaanis karra Yoosef, karra Beniyaamii fi karra Daan.
33 Karaa kibbaa karrawwan dhundhuma 4,500 dheeratan sadiitu jira; isaanis karra Simi'oon, karra Yisaakorii fi karra Zebuuloon.
34 Karaa dhi'aa karrawwan dhundhuma 4,500 dheeratan sadiitu jira; isaanis karra Gaad, karra Aasheerii fi karra Niftaalem.

35 "Naannoon magaalaa sanaa guutumaan guutuutti dhundhuma 18,000 ta'a.

"Maqaan magaalaa sanaas yeroo sanaa jalqabee, 'Waaqayyo achi jira ta'a.' "

# Raajii
# Daani’el

*Daani’el Baabilon keessatti Leenjifame*

1 Bara Yehooyaaqiim mooticha Yihuudaa keessa, waggaa sadaffaatti Nebukadnezar
mootiin Baabilon dhufee Yerusaalemin marse. 2 Gooftaanis Yehooyaaqiim mooticha
Yihuudaa mi’oota mana qulqullummaa Waaqaa tokko tokko wajjin dabarsee harka
isaatti kenne. Mi’oota kanneenis gara mana Waaqa isaa, gara Baabilonitti geeffatee
mankuusaa mana Waaqa isaa keessa kaa’ate.

3 Mootichis ergasii Ashfenaz itti gaafatamaa qondaaltota isaa sana waamee akka
inni Israa’eloota sanyii moototaatii fi maatii ulfina qabeeyyii ta’an tokko tokko
ol galchu ajaje; 4 isaanis dargaggeeyyii hir’ina dhagnaa hin qabne, babbareedoo,
kanneen barumsa gosa kamii iyyuu barachuuf dandeettii ogummaa qaban, kanneen
beekumsaan badhaadhan, kanneen waan hunda hubachuu danda’anii fi masaraa
mootummaa keessa tajaajiluuf ga’umsa qaban turan. Innis afaanii fi katabbii
Baabilonotaa isaan barsiisuu qaba ture. 5 Mootichis nyaataa fi daadhii wayinii kan
guyyaa guyyaatti isaan barbaachisu maaddii mootummaa irraa isaaniif ajaje. Isaanis
tajaajila mootichaa seenuuf waggaa sadii leenjifamuu qabu ture.

6 Isaan kanneen keessaa warri Yihuudaadhaa dhufan Daani’el, Hanaaniyaa,
Miishaa’eelii fi Azaariyaa turan. 7 Itti gaafatamaan qondaaltotaa sun Daani’eliin
Beelxishaazaar, Hanaaniyaadhaan Shaadraak, Miishaa’eelin, Meeshak, Azaariyaad-
haan immoo Abdanaagoo jedhee maqaa haaraa baaseef.

8 Daani’el garuu nyaataa fi daadhii wayinii moottichaatiin of xureessuu dide; innis
akkasiin akka of hin xureessineef itti gaafatamaa qondaaltotaa sana eeyyama gaafate.
9 Waaqnis yeroo kanatti akka Daani’el fuula qondaala sanaa duratti surraa fi gara
laafina argatu godhe; 10 qondaalli sun garuu Daani’eliin, “Ani gooftaa koo isa nyaataa
fi dhugaatii keessan isiniif ramade sana nan sodaadha; inni maaliif dargaggoota
hiriyoota keessan kaan caalaa huqqattanii isin arga? Kanaan isin mootichi balaa
mataa koottí fiddu” jedhe.

11 Kana irratti Daani’el waardiyyaa itti gaafatamaan qondaaltotaa sun Daani’elii fi
Hanaaniyaa irratti, Miishaa’eelii fi Azaariyaa irratti muude Meldaariin akkana jedhe;
12 “Maaloo tajaajiltoota kee bultii kudhaniif ilaali; biqiltuu nyaatamuu fi bishaan
dhugamu malee waan biraa nuuf hin kennin. 13 Sana booddee bifa keenyaa fi bifa
dargaggoota nyaata mootii nyaatanii wal biratti ilaali; waan argite irratti hundaa’iitii
tajaajiltoota kee irratti waan feete murteessi.” 14 Innis yaada kana fudhatee bultii
kudhan isaan qore.

15 Dhuma bultii kurnan sanaattis isaan dargaggoota nyaata mootii nyaatan sana
caalaa fayyaaleyyii fi warra dhagni isaanii furdatee miidhage ta’anii argaman.
16 Kanaafuu waardiyyaan sun qooda nyaata filatamaa fi daadhii wayinii kan isaan
dhuguu qaban sanaa raafuu qofa isaaniif kenne.

17 Waaqnis dargaggoota afran kanneeniif barumsaa fi ogummaa hunda keessatti
beekumsaa fi dandeetii kenneef. Daani’elis mul’ataa fi abjuu hunda hubachuu
danda’a ture.

18 Yommuu guyyaan mootichi akka isaan gara isaatti dhi’aatan murteesse ga’ettis,
qondaalli hangaftichi fuula Nebukadnezar duratti isaan dhi’eesse. 19 Mootichis
isaan haasofsiise; innis nama Daani’eliin, Hanaaniyaan, Miishaa’eelii fi Azaariyaan
qixxaatu tokko illee hin arganne; kanaafuu isaan hojii mootichaa jalqaban.

20 Mootichis waa’ee ogummaa fi beekumsaa kan isaan gaafate hundaan akka isaan
ilaaltotaa fi falfaltoota biyyattiitti argaman hunda harka kudhan caalan arge.
21 Daani’elis hamma waggaa tokkoffaa Qiiros mootichaatti achuma ture.

# 2

*Abjuu Nebukadnezar*

1 Nebukadnezar bara mootummaa isaa keessa, waggaa lammaffaatti abjuu abjoote;
hafuurri isaa jeeqamee hirribas rafuu dadhabe. 2 Kanaafuu mootichi akka isaan
abjuu inni abjoote sana itti himaniif tolchitoota, mortoota, falfaltootaa fi warra urjii
ilaalan waamsise; isaanis ol galanii fuula isaa dura dhadhaabatan; 3 mootichis, “Ani
abjuu na dhiphise tokko nan abjoodhe; hiikkaa abjuu sanaa maal akka ta’e beekuu
nan barbaada” jedheen.
4 Kana irratti warri urjii ilaalan sun afaan Araamaayikiitiin mootichaan, “Yaa
mootii, bara baraan jiraadhu! Abjuu kee tajaajiltoota keetti himi; nu siif hiiknaa”
jedhanii mootichaaf deebisan.
5 Mootichis warra urjii ilaalan sanaan akkana jedhe; “Ani waan kana murteesseera:
Yoo isin abjuu koo fi hiikkaa isaa natti himuu baattan ani isinan kukkuta; manneen
keessanis tuulaa waan diigamee ta’u. 6 Garuu yoo abjuu sanaa fi hiikkaa isaa natti
himtan isin kennaa, badhaasaa fi ulfina guddaa narraa argattu. Kanaafuu abjuu
sanaa fi hiikkaa isaa natti himaa.”
7 Isaan amma illee deebisanii, “Mootichi abjuu isaa tajaajiltoota isaatti haa himu;
nu ni hiiknaaf” jedhan.
8 Kana irratti mootichi akkana jedhee deebiseef; “Ani akka isin sababii waan ani
cimsee murteesse beektaniif, akka isin yeroo dheeressuu yaalaa jirtan hubadheera:
9 Yoo isin abjuu sana natti himuu baattan, adabbii tokkotu isin eeggata. Isin waan
haalli geeddaramu seetanii dubbii dogoggorsaa fi hamaa natti himuu mari’attaniirtu.
Kanaafuu abjuu sana natti himaa; anis akka isin hiikkaa isaa natti himuu dandeessan
kanaan nan beekaa.”
10 Warri urjii ilaalan sunis akkana jedhanii mootichaaf deebise; “Namni waan
mootichi gaafate kana hojjechuu danda’u tokko iyyuu lafa irratti hin argamu! Mootiin
kam iyyuu hammuma fedhee guddaa fi jabaa ta’u illee tolchituu, moortuu yookaan
warra urjii ilaalu kam iyyuu gaaffii akkanaa gaafatee hin beeku. 11 Wanni mootichi
gaafate akka malee rakkisaa dha. Waaqota malee namni tokko iyyuu waan kana
mootichaaf ibsuu hin danda’u; isaan immoo namoota gidduu hin jiraatan.”
12 Wanni kunis mooticha akka malee aarse; isa dallansiisees akka inni ogeeyyii
Baabilon hundatti murtii du’aa muru godhe. 13 Kanaafuu akka namoonni ogeeyyiin
hundi ajjeefaman labsiin ba’e; namoonnis akka Daani’elii fi michoota isaa bar-
baadanii ajjeesaniif ergaman.
14 Yommuu Ariyook itti gaafatamaan eegumsa mootichaa namoota Baabilon
ogeeyyii ajjeesuuf ba’etti, Daani’el ogummaa fi malaan isa haasofsiise. 15 Innis
qondaala mootichaatiin, “Mootichi maaliif labsii cimaa akkasii baase?” jedhee
gaafate. Ariyookis waan sana Daani’elitti hime. 16 Kana irratti Daani’el ol seenee
akka abjuu sana isaaf hiikuuf akka mootichi yeroo isaa kennu gaafate.
17 Ergasii Daani’el gara mana isaatti deebi’ee waan sana michoota isaa
Hanaaniyaatti, Miisaa’elii fi Azariyaatti hime. 18 Kanaafuu akka innii fi michoonni
isaa ogeeyyiin Baabilon kaan hin ajjeefamneef akka isaan waa’ee icciitii kanaa Waaqa
samii araara kadhatan isaan akeekkachiise. 19 Halkan sanas icciitiin sun mul’ataan
Daani’elitti mul’ifame. Ergasiis Daani’el Waaqa samii galateeffatee 20 akkana jedhe:
“Maqaan Waaqaa bara baraa
hamma bara baraatti haa eebbifamu;

ogummaanii fi humni kan isaa ti.
21 Inni barootaa fi waqtiilee ni geeddara;
mootota teessoo irra ni teessisa; irraa buusas.
Inni ogeeyyiif ogummaa,
beektotaafis hubannaa ni kenna.
22 Inni waan gad fagoo fi waan dhokfame ni mul’isa;
waan dukkana keessa jiru ni beeka;
ifnis isa wajjin jiraata.
23 Yaa Waaqa abbootii ko, ani sin galateeffadha; sin jajadhas:
Ati ogummaa fi humna naa kenniteerta;
waan nu si kadhanne na beeksifteerta;
ati abjuu mootichaa nu beeksifteerta.”

*Daani’el Abjuu sana Hiike*

24 Daani’elis Ariyook isa mootichi akka inni ogeeyyii Baabilon ajjeesuuf ajaje sana
bira deemee, “Ati ogeeyyii Baabilon hin ajjeesin. Mooticha biratti na geessi; ani abjuu
isaa nan hiikaaf” jedheen.
25 Ariyookis Daani’elin mooticha bira geessee, “Ani booji’amtoota Yihuudaa keessaa
nama hiikkaa abjuu mootichaa himuu danda’u tokko argeera” jedheen.
26 Mootichis Daani’el isa Beelxishaazaar jedhame sanaan, “Ati abjuu ani argee fi
hiikkaa isaa natti himuu dandeessaa?” jedhe.
27 Daani’elis deebisee akkana jedhe; “Namni ogeessi kam iyyuu, mortuun, tolchi-
tuun yookaan ilaaltuun icciitii waan mootichi gaafate sanaa ibsuu danda’u tokko
iyyuu hin jiru; 28 garuu Waaqni icciitii mul’isuu tokko samii irra jira. Innis wantoota
baroota dhufan keessa ta’an Nebukadnezar mootichatti argisiiseera. Abjuun keetii fi
mul’anni utuu ati siree kee irra ciiftuu yaada keetti dhufe kanaa dha:
29 “Yaa mooticha utuu ati ciiftee jirtuu wanni gara fuula duraatti ta’uuf jiru yaada
keetti dhufe; inni icciitii mul’isus waan fuula duratti ta’u sitti argisiise. 30 Yaa mootii,
akka kootti sababiin icciitiin kun natti mul’ateef ani namoota jiraatoo kaan caalaa
ogummaa qabaadheef utuu hin ta’in, akka ati hiikkaa isaa beektee waan yaada kee
keessa jiru hubattuuf.
31 “Yaa mootii, ati ni ilaalte; fuula kee duras fakkii guddaa jechuunis fakkii akka
malee guddaa, bifa calaqqisaa fi sodaachisaa tokkotu ture. 32 Mataan fakkii sanaas
warqee qulqulluu irraa, qomaa fi irreen isaa meetii irraa, garaa fi tafni isaa naasii
irraa hojjetaman; 33 miilli isaa sibiila irraa, faanni isaa gartokko sibiila irraa, gartokko
immoo suphee irraa hojjetame. 34 Utuma ati ilaalaa jirtuu dhagaan tokko utuu
harki namaa hin tuqin fottoqe. Innis miilla fakkii sanaa kan sibiilaa fi suphee irraa
hojjetame dha’ee caccabse. 35 Ergasii sibiilli, supheen, naasiin, meetii fi warqeen
sun yeruma tokkotti caccabanii akkuma habaqii yeroo bonaa oobdii irra jiruu ta’an.
Bubbeenis utuu waan tokko illee hin hambisin haree deeme. Dhagaan fakkii sana
caccabse sun garuu tulluu guddaa ta’ee lafa hunda guute.
36 “Abjuun sun kana ture; nus mootichaaf ni hiikna. 37 Yaa mootii, ati mootii
mootootaa ti. Waaqni samii mootummaa fi humna, jabinaa fi ulfina siif kenneera;
38 inni sanyii namaa, bineensota bosonaatii fi simbirroota samii dabarsee harka keetti
siif kenneera. Lafa isaan jiraatani kamitti iyyuu hunda isaanii irratti bulchaa si
godheera. Ati mataa warqee ti.
39 “Si’iin duuba mootummaan mootummaa keetii gadii biraa tokko ni ka’a. Itti
aansee mootummaan Naasii sadaffaan kan tokko guutummaa lafaa ni bulcha.
40 Dhuma irrattis mootummaan afuraffaan akkuma sibiilaa jabaa ta’e tokko ni ka’a;
sibiilli waan hunda caccabsee bulleessaatii; mootummaan kunis akkuma sibiilli waan
hunda caccabsee balleessu sana mootummoota isa duraan turan hunda caccabsee ni

bulleessa. [41] Akkuma ati akka faannii fi qubni miilla isaa gartokko suphee, gartokko
immoo sibiila ta'e argite sana mootummaan kun mootummaa gargar qoodame ta'a;
ta'us inni akkuma sibiila gartokkeen isaa supheedhaan makame kan ati argite sanaa
jabina sibiilaa of keessaa ni qabaata. [42] Akkuma qubni miillaa sun gartokko sibiila,
gartokko immoo suphee ta'e sana mootummaan kunis gartokko jabaa, gartokko
immoo dadhabaa ta'a. [43] Akkuma ati sibiila supheedhaan wal make argite sana
uummanni kunis walmakaa ta'a; innis si'achi sibiilaa fi supheen walitti makame
sana caalaa tokko ta'ee hin jiraatu.

[44] "Bara mootota sanaa keessa, Waaqni samii mootummaa gonkumaa hin diigamne
yookaan saba biraatiif hin kennamne hundeessa. Innis mootummoota duraa sana ni
barbadeessa; hamma dhumaattis isaan balleessa; inni mataan isaa garuu bara baraan
jabaatee ni dhaabata. [45] Hiikkaan mul'ata dhagaa utuu harka namaatiin hin ta'in
ofuma isaatiin tulluu irraa fottoqee sibiila, naasii, suphee, meetii fi warqee caccabse
sanaa kanaa dha.

"Waaqni guddaan waan gara fuula duraatti ta'u moottichatti argisiiseera. Abjuun
sun dhugaa dha; hiikkaan isaas amanamaa dha."

[46] Nebukadnezar mootichi addaan lafatti gombifamee Daani'eliif sagade; ulfinas
kenneef; akka aarsaa fi ixaana isaaf dhi'eessanis ajaje. [47] Mootichis Daani'eliin,
"Ati dhoksaa kana mul'isuu dandeesseertaatii dhugumaan Waaqni kee Waaqa
waaqotaatii fi Gooftaa moototaa kan dhoksaa mul'isuu dha" jedhe.

[48] Ergasii mootichi Daani'eliif taayitaa guddaa kennee, kennaa akka malee baay'ees
itti dhangalaase. Bulchaa guutummaa kutaalee biyyaa Baabilon isa godhee namoota
Baabilon hunda irratti isa muude. [49] Daani'el mooticha kadhannaan mootichi
Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo bulchitoota biyya Baabilon godhee muude.
Daani'el garuu mana moottichaa keessatti hafe.

# 3

## *Fakkii Warqeetii fi Boolla Ibiddaa*

[1] Nebukadnezar Mootichi fakkii warqee kan dheerinni isaa dhundhuma jaatamaa
fi bal'inni isaa dhundhuma ja'aa hojjetee kutaa biyyaa Baabilon keessa dirree Duuraa
jedhamu irra dhaabe. [2] Ergasii mootichi akka isaan eebba fakkii inni dhaabe sanaa
irratti argamaniif ilmaan moototа, muudamoota, bulchitoota gorsitoota, itti gaafa-
tamtoota mankuusa qabeenyaa, abbootii murtii, hayyoota seeraatii fi qondaaltota
biyya hundaa waame. [3] Kanaafuu eebba fakkii Nebukadnezar Mootichi dhaabe sanaa
irratti argamuuf ilmaan moototaa, muudamoonni, bulchitoonni, gorsitoonni, itti
gaafatamtoonni mankuusa qabeenyaa, abbootiin murtii hayyoonni seeraa biraatii fi
qondaaltonni biyyaa hundi walitti qabamanii fuula fakkii sanaa dura dhadhaabatan.

[4] Kana irratti labsituun tokko akkana jedhee sagalee guddaadhaan labse; "Yaa
namoota, sabootaa fi namoonni afaan garaa garaa dubbattan hundi, wanni isin akka
gootan ajajamtan kanaa dha: [5] Isin akkuma sagalee gaanfaa, ulullee, masiinqoo, ki-
raaraa, baganaa, kan faaggaatii fi sirbaa dhageessaniin addaan lafatti gombifamtanii
fakkii warqee kan Nebukadnezar Mootichi dhaabeef sagaduu qabdu. [6] Namni addaan
lafatti gombifamee hin sagadne kam iyyuu yoosuma boolla ibiddi keessaa balali'utti
darbatama."

[7] Kanaafuu namoonni, saboonnii fi namoonni afaan garaa garaa dubbatan hundi
yommuu sagalee gaanfaa, ulullee, masiinqoo, kiraaraa, baganaa fi sirbaa hunda
dhaga'anitti addaan lafatti gombifamanii fakkii warqee kan Nebukadnezar Mootichi
dhaabe sanaaf sagadan.

[8] Yeroo kanatti Kaldoonni tokko tokko gara fuula duraatti dhufanii dabaan
Yihuudoota himatan. [9] Isaanis Nebukadnezar Mootichaan akkana jedhan; "Yaa

mootii, ati bara baraan jiraadhu! [10] Yaa mootii, ati akka namni kam iyyuu
yommuu sagalee gaanfaa, ulullee, masiinqoo, kiraaraa, baganaa kan faaggaatii fi
kan sirbaa dhaga'u kam iyyuu addaan lafatti gombifamee fakkii warqee sanaaf
sagaduu qabu seera baafteerta; [11] akka namni lafatti gombifamee sagaduu didu kam
iyyuus boolla ibiddi keessaa balali'utti darbatamu seera baafteerta. [12] Garuu yaa
Mooticha, Yihuudoonni ati dhimma biyya Baabilon irratti muudde tokko tokko ajaja
kee didaniiru; isaanis Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo dha. Isaan waaqota kee
hin tajaajilan yookaan fakkii warqee ati dhaabdeef hin sagadan."
[13] Nebukadnezaris akka malee aaree Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaa-
goo waamsise. Kanaafuu namoonni kunneen mooticha duratti dhi'eeffaman;
[14] Nebukadnezaris akkana isaaniin jedhe; "Yaa Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo,
isin dhugumaan waaqota koo hin tajaajiltanii? Yookaan fakkii warqee ani dhaabeef
hin sagaddanii? [15] Amma isin yeroo sagalee gaanfaa, ulullee, masiinqoo, kiraaraa,
baganaa, kan faaggaatii fi sirba kam iyyuu dhageessanitti kuftanii fakkii ani dhaabeef
yoo sagaddan gaarii dha. Garuu yoo isin sagaduu baattan, yoosuma boolla ibiddi
keessaa balali'utti darbatamtu. Egaa waaqa kamitu harka kootii isin baasuu
danda'a?"
[16] Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoon deebisanii mootichaan akkana jedhan;
"Yaa Nebukadnezar, nu fuula kee duratti waan kana falmachuu hin barbaannu. [17] Yaa
Mootii, nu yoo boolla ibiddi keessaa balali'utti darbatamne, Waaqni nu isa tajaajillu
sun nu oolchuu danda'a; harka keetii illee nu baasuu danda'a. [18] Yaa Mootii, yoo inni
nu baasuu baate iyyuu nu waaqota kee akka hin tajaajille yookaan fakkii warqee ati
dhaabde sanaaf akka hin sagadne akka beektu barbaanna."
[19] Kana irratti Nebukadnezar akka malee aaree fuulli isaa Shaadraak, Meeshakii
fi Abdanaagootti geeddarame. Akka ibiddi boollaa sunis hamma durii caalaa
harka torba ho'ee finiinu ajaje; [20] akka isaan Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo
hidhanii boolla ibiddi keessaa boba'u sanatti darbataniif loltoota isaa keessaa
jajjaboo tokko tokko ajaje. [21] Kanaafuu namoonni kunneen akkuma wandaboo
isaanii, fiddoo isaanii, marata isaanii kan mataatii fi uffata biraas uffatanitti
hidhamanii boolla ibiddi keessaa balali'u sanatti darbataman. [22] Ajajni mootichaa
akka malee ariifachiisaa ture; sababii ibiddi boollaa sun akka malee boba'aa tureef
arrabni ibidda sanaa loltoota Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo geessan sana
fixe; [23] namoonni sadan kunneenis jabeeffamanii hidhamanii boolla ibiddi keessaa
balali'u sana keessatti kufan.
[24] Nebukadnezar Mootichi dinqisiifachuudhaan utaalee ka'ee, "Namoonni nu
hiinee ibiddatti darbanne sadii hin turree?" jedhee gorsitoota isaa gaafate.
Isaanis, "Yaa Mootii, kun dhuguma" jedhanii deebisan.
[25] Innis, "Ilaa! Ani namoota ibidda keessa deddeebi'an afur nan arga; isaanis
hin hidhamne; hin miidhamnes; inni afuraffaan immoo ilma waaqotaa fakkaata"
jedheen.
[26] Nebukadnezaris gara afaan boolla ibiddi keessaa boba'utti dhi'aatee sagalee
guddaadhaan, "Yaa Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo, tajaajiltoota Waaqa Waan
Hundaa Olii, kottaa ba'aa! As kottaa" jedhe.
Akkasiin Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoon ibidda keessaa ba'an; [27] ilmaan
moototaa, muudamoonni, bulchitoonnii fi gorsitoonni mootii naannoo isaaniitti
walitti qabaman. Isaanis akka ibiddi sun dhagna jaraa hin miidhin yookaan akka
rifeensa mataa isaanii keessaa tokko iyyuu hin gubatin ni argan; wandaboon isaanii
iyyuu homaa hin taane; fooliin ibiddaas isaan irra hin turre.
[28] Kana irratti Nebukadnezar akkana jedhe; "Waaqa Shaadraak, Meeshakii fi
Abdanaagoo isa ergamaa isaa ergee tajaajiltoota isaa baraareef galanni haa ta'u!
Isaan isa amanatanii ajaja mootii didanii akka Waaqa isaanii malee waaqota

biraa hin tajaajille yookaan hin waaqeffanne lubbuu isaanii dabarsanii kennaniiru.
29 Kanaafuu Waaqni akkasitti nama oolchu kan biraa Waaqa hin jirreef, ani akka
uummanni saba kamii iyyuu yookaan afaan kamii iyyuu yoo Waaqa Shaadraak,
Meeshakii fi Abdanaagoo irratti waan hamaa dubbate kukkutamu, akka manni isaas
tuullaa waan diigamee ta’u labseera.”

30 Ergasii mootichi Shaadraak, Meeshakii fi Abdanaagoo kutaa biyyaa Baabilon
irratti muude.

# 4

### *Nebukadnezar Abjuudhaan Muka Tokko Arge*

1 Nebukadnezar Mooticha irraa,

Sabootaa fi namoota afaan garaa garaa dubbatan kanneen guutummaa addunyaa
irra jiraatan hundaaf:

Nagaan isiniif haa baay’atu!

2 Mallattoowwanii fi hojiiwwan dinqii kanneen Waaqni Waan Hundaa Olii naaf
godhe isinitti himuun na gammachiisa.

3 Mallattoowwan isaa akkam gurguddaa dha;
dinqiin isaas akkam jabaa dha!
Mootummaan isaa mootummaa bara baraa ti;
bulchiinsi isaas dhalootaa hamma dhalootaatti jabaatee dhaabata.

4 Ani Nebukadnezar natti tolee masaraa mootummaa koottis qananiidhaan mana
koo nan jiraadhan ture. 5 Ani abjuu na sodaachise tokko nan arge. Utuu ani
siree koo irra ciisee jiruu fakkii fi mul’anni qalbii koo keessa darbu na sodaachise.
6 Kanaafuu ani akka isaan abjuu sana naa hiikaniif akka ogeeyyiin Baabilon hundi
fuula koo duratti dhi’eeffaman nan ajaje. 7 Yommuu tolchitoonni, mortoonni, warri
urjii ilaalanii fi waa himtoonni dhufanitti abjuu sana isaanitti nan hime; isaan
garuu naaf hiikuu hin dandeenye. 8 Dhuma irratti Daani’el fuula duratti dhi’aate;
anis abjuu sana isatti nan hime. Inni Beelxishaazaari jedhamee maqaa waaqa
kootiin waamama; hafuurri waaqota qulqulluu isa keessa ture.

9 Anis akkanan jedhe; “Yaa Beelxishaazaari, hangafa tolchitootaa, ani akka
hafuurri waaqota qulqulluu si keessa jiru nan beeka; icciitiin kam iyyuu sitti hin
ulfaatu. Abjuun ani arge kana; hiikkaa isaa natti himi. 10 Mul’anni utuun siree
koo irra ciisee jiruu arge isa kanaa dha: Ani nan ilaale; mukni tokko fuula koo
dura walakkaa lafaa dhaabatee ture. Dheerinni isaas guddaa ture. 11 Mukni sun
akka malee guddatee jabaate; fiixeen isaas samii tuqe; hamma daarii lafaattis ni
mul’ata ture. 12 Baalli isaa bareedaa, iji isaa akka malee baay’ee ture; mukicha
irras nyaata waan hundaaf ta’utu ture. Bineensonni gaaddisa isaa jala boqotu;
simbirroon samiis dameellee isaa irra jiraatu; lubbuu qabeeyyiin hundinuus isa
irraa nyaatu ture.

13 “Ani mul’ata utuun siree koo irra ciisee jiruu arge sana keessatti nan ilaale;
fuula koo duras ergamaa qulqulluu samiidhaa gad bu’aa jiru tokkotu ture. 14 Innis
sagalee guddaadhaan akkana jedhe: ‘Mukicha muraa; dameewwan isaa cicciraa;
baala isaa harcaasaa; ija isaa bittinneessaa. Bineensonni isa jalaa, simbirroonnis
dameewwan isaa irraa haa baqatani. 15 Gufuu fi hiddi isaa garuu sibiilaa fi
naasiidhaan hidhamee lafa keessa, marga dirree keessa haa turu.

“ ‘Inni fixeensa samiitiin haa jiidhu; biqiltuu keessas bineensota wajjin haa
jiraatu. 16 Qalbiin isaas qalbii namaa irraa geeddaramee qalbiin horii isaaf haa
kennamu; kunis hamma waggaan torba darbutti haa ta’u.

17 “ ‘Akka namni lubbuun jiraatu hundinuu akka Waaqni Waan Hundaa Olii
mootummoota namootaa irratti bulchaa ta’ee fi akka inni abbaa barbaadeef isaan

kennee nama namoota hundaa gad ta'e isaanitti muudu beekaniif ergatamtoonni
murtii labsanii qulqulloonni murtoo lallaban.'
18 "Abjuun ani Nebukadnezar mootiin arge kanaa dha. Egaa yaa Beelxishaazaari
waan namoota mootummaa kootii qaqqaroo keessaa tokko iyyuu naa hiikuu hin
dandeenyeef abjuun sun maal akka ta'e natti himi. Ati garuu sababii hafuurri
waaqota qulqulluu si keessa jiruuf ni dandeessa."

### *Daani'el Abjuu Hiikuu Isaa*

19 Ergasii Daani'el inni Beelxishaazaari jedhamu sun yeroodhaaf akka malee
jeeqamee yaadni isaas isa rifachiise. Kanaafuu mootichi, "Yaa Beelxishaazaar,
abjuun kun yookaan hiikkaan isaa si hin rifachiisin" jedhe.
Beelxishaazaaris akkana jedhee deebise; "Yaa gooftaa koo abjuun kun warra si
jibbaniif, hiikkaan isaa immoo diinota keetiif haa ta'u! 20 Mukni ati argite kan
akka malee guddatee fi cimaan, kan fiixeen isaa samii tuqee hamma daarii lafaatti
mul'atu, 21 kan baalli isaa bareedu, kan ija baay'ee qabu, kan iji isaa waan hundaaf
nyaata ta'u, kan bineensotaaf gaaddisa, kan damee isaa irratti simbirroonni samii
mandhee ijaarratan, 22 yaa Mootii, mukni sun si'i! Ati guddaa fi jabaa taateerta;
guddinni kee hamma samii ga'utti ol ba'ee bulchiinsi kees hamma daarii lafaatti
bal'ata.
23 "Yaa Mootii, ati ergamaa qulqulluu tokko utuu inni, 'Mukicha muraa
balleessaa; gufuu fi hidda isaa garuu sibiilaa fi naasiidhaan hidhaatii lafa keessatti
marga dirree irratti dhiisaa; inni fixeensa samiitiin haa jiidhu; akka bineensota
bosonaatti haa jiraatu; waggaan torbas isa haa darbu' jechaa samiidhaa bu'u argite.
24 "Yaa Mootii hiikkaan isaa kana; labsiin Waaqni Waan Hundaa Olii gooftaa
koo irratti baases kana: 25 Ati saba keessaa ari'amtee bineensota bosonaa wajjin
jiraatta; akka loonii marga nyaatta; fixeensa samiitiinis ni jiita. Ati hamma akka
Waaqni Waan Hundaa Olii mootummoota namootaa irratti bulchaa ta'ee fi akka
inni mootummoota kanas abbaa barbaadeef kennuu danda'u beektutti waggaan
torba si darba. 26 Ajajni akka gufuun muka sanaa hidda isaa wajjin hafuuf kenname
sunis akka mootummaan kee yeroo ati ol aantummaan kan samii ta'e beektutti siif
deebifamu argisiisa. 27 Kanaafuu yaa Mootii, gorsa koo fudhadhu: Waan qajeelaa
hojjechuudhaan cubbuu kee of irraa haqi; hammina kees cunqurfamtootaaf garaa
laafuudhaan of irraa balleessi; yoos barri jireenya keetii ni dheerataa."

### *Abjuun Fiixaan Ba'uu Isaa*

28 Kun hundi Nebukadnezar Mooticha irra ga'e. 29 Ji'a kudha lama booddee
mootichi utuu gubbaa masaraa mootummaa Baabilon irra asii fi achi deddeebi'aa
jiruu, 30 "Kun Baabilon guddittii ani akka isheen mana jireenya mootii taatuuf
ulfina maqaa kootiif jedhee humna koo jabaadhaan ijaare sanaa mitii?" jedhe.
31 Utuu inni dubbii isaa afaanii hin fixatin sagaleen akkana jedhu tokko
samiidhaa dhufe; "Yaa Nebukadnezar Mooticha, wanni sirratti labsame kana:
Aangoon mootummaa keetii sirraa fudhatameera. 32 Ati uummata keessaa
ari'amtee bineensota bosonaa wajjin jiraatta. Akka looniis marga nyaatta. Hamma
ati akka Waaqni Waan Hundaa Olii mootummoota namootaa irratti Gooftaa ta'ee
fi akka inni mootummoota sana abbaa fedheef kennu beektutti waggaan torba si
darba."
33 Yommusuma wanni waa'ee Nebukadnezar dubbatame sun ni raawwatame.
Innis uummata keessaa ari'amee akka loonii marga nyaate. Inni hamma rifeensi
isaa akka baallee risaa guddatee qeensi isaa akka qeensa allaattii fakkaatutti dhagni
isaa fixeensa samiitiin jiidhe.

34 Dhuma yeroon sanaatti, ani Nebukadnezar gara samii ol nan ilaale; qalbiin
koos naa deebi'e. Anis Waaqa Waan Hundaa Olii nan galateeffadhe; isa bara baraan
jiraatus nan jajadhe; ulfinas nan kenneef.

Bulchiinsi isaa bulchiinsa bara baraa ti;
mootummaan isaas dhalootaa hamma dhalootaatti itti fufee dhaabata.
35 Uummanni lafaa hundi
wayittuu hin hedaman.
Inni humnoota samii irratti,
namoota lafaa irrattis,
waanuma fedhe hojjeta.
Namni harka isaa dhowwuu yookaan "Ati maal hojjechaa jirta?" jedhee
isa gaafachuu danda'u tokko iyyuu hin jiru.

36 Akkuma qalbiin koo naaf deebi'eenis, ulfina mootummaa kootiitiif ulfinnii
fi miidhaginni koo yommusuma naaf deebi'an. Gorsitoonnii fi qondaaltonni koo
na barbaadan; anis teessoo kootti deebifamee kan durii caalaas guddaa nan ta'e.
37 Sababii wanni inni hojjetu hundi dhugaa, karaan isaa hundinuus qajeelaa ta'eef
ani Nebukadnezar, Mooticha samii sana nan jajadha; isa nan leellisa; ulfinas nan
kennaaf. Inni warra of tuulan gad deebisuu danda'aatii.

# 5

*Katabbii Keenyan Manaa Irraa*

1 Beelshaazaar mootichi qondaaltota isaa kuma tokkoof dhangaa guddaa
qopheessee fuula isaanii duratti daadhii wayinii dhuge. 2 Beelshaazaaris utuu daadhii
wayinii dhugaa jiruu akka innii fi qondaaltonni isaa, niitonnii fi saajjatoowwan isaa
ittiin dhuganiif akka isaan xoofoo warqeetii fi meetii kan abbaan isaa Nebukadnezar
mana qulqullummaa Yerusaalemii fide sana fidan ajaje. 3 Kanaafuu isaan xoofoo
warqee kan mana qulqullummaa Waaqaa kan Yerusaalemii fudhataman sana fidan;
mootichi, qondaaltonni, niitonnii fi saajjatoowwan isaa ittiin dhugan. 4 Isaan utuma
daadhii wayinii sana dhugaa jiranuu, waaqota warqeetii fi meetii, kan naasiitii fi
sibiilaa, kan mukaatii fi dhagaa galateeffatan.

5 Akkuma tasaa qubni harka namaa mul'atee keenyan manaa kan masaraa mootii
keessa baattuu ibsaa bira jiru irratti barreesse. Mootichis harka sana utuu inni
barreessuu arge. 6 Fuulli mootichaa ni geeddaramee; innis sodaadhaan guutamee
jilbii isaa hollatee waldha'e; miilli isaas ni laafe.

7 Mootichis sagalee isaa ol fuudhee akka mortoota, warra urjii ilaalanii fi ilaaltota
ol isaaf galchan ajaje. Ogeeyyii Baabiloniinis akkana jedhe; "Nama katabbii kana
dubbisee hiikkaa isaa natti himu kamitti iyyuu uffanni diimaan dhiilgeen uffifamee
morma isaatti faayi warqee ni kaa'amaaf; mootummaa koo keessattis bulchaa ol
aanaa sadaffaa ta'a."

8 Ergasiis ogeeyyiin mootichaa hundi ol seenan; isaan keessaa garuu namni katabbii
sana dubbisuu yookaan hiikkaa isaa mootichatti himuu danda'u tokko iyyuu hin
argamne. 9 Kana irratti Beelshaazaar mootichi kan duraa caalaa sodaatee fuulli isaa
geeddarame; qondaaltonni isaas waan godhan wallaalan.

10 Mootittiinis waca mootichaatii fi qondaaltota isaa dhageessee galma cidha sanaa
ol seente. Isheenis akkana jette; "Yaa mootii, bara baraan jiraadhu! Hin rifatin;
fuulli kees hin geeddaramin! 11 Mootummaa kee keessa namichi hafuurri waaqota
qulqullootaa keessa jiru tokko jira. Namichi kun bara abbaa keetii keessa nama
hubannaa, beekumsaa fi ogummaa akkuma waaqotaa qabu ta'ee argame. Abbaan
kee Nebukadnezar Mootichi, itti gaafatamaa tolchitootaa, mortootaa, kan warra
urjii ilaalaniitii fi ilaaltotaa godhee isa muudee ture. 12 Daani'el namichi mootichi

Beelxishaazaari jedhee waamu kun nama hafuurri gaariin, beekumsii fi hubannaan
keessa jiru ta’ee argame; innis abjuu, hibboo fi rakkoo hiikuuf dandeettii addaa qaba
ture. Daani’elin waami; innis hiikkaa katabbii kanaa sitti himaatii.”
13 Kanaafuu Daani’el fuula mootichaa duratti dhi’eeffame; mootichis akkana
jedheen; “Warra abbaan koo mootichi booji’ee Yihuudaadhaa fide keessaa kan
Daani’el jedhamu si’ii? 14 Ani akka hafuurri waaqotaa si keessa jiruu fi akka
ati hubannaa, beekumsaa fi ogummaa addaa qabdu dhaga’eera. 15 Ogeeyyiinii fi
mortoonni akka katabbii kana dubbisanii hiikkaa isaa natti himaniif fuula koo duratti
fidamanii turan; isaan garuu ibsuu hin dandeenye. 16 Ani akka ati hiikkaa kennitee
rakkoofis fala kennuu dandeessu dhaga’eera. Yoo ati katabbii kana dubbiftee hiikkaa
isaa natti himuu dandeesse, uffata diimaa dhiilgeetu sitti uffifama; faayi warqees
morma keetti siif kaa’ama; mootummaa koo keessattis bulchaa ol aanaa sadaffaa
taata.”
17 Kana irratti Daani’el deebisee mootichaan akkana jedhe; “Kennaan kee sumaaf
haa hafu; badhaasni kee immoo nama biraatiif haa kennamu. Ta’u iyyuu ani
katabbicha dubbisee hiikkaa isaa mootichatti nan hima.
18 “Yaa mootii, Waaqni Waan Hundaa Olii abbaa kee Nebukadnezariif surraa
fi guddina, ulfinaa fi kabaja kenne. 19 Sababii ol aantummaa inni isaaf kenneef
saboonnii fi mootummoonni hundi, namoonni afaan garaa garaa dubbatan ni
hollataniif; isa sodaatanis. Mootichis warra ajjeesuu barbaade ni ajjeesa; warra
oolchuu barbaade ni oolcha, kan muuduu barbaade ni muuda, kan salphisuu
barbaades ni salphisa ture. 20 Gaafa garaan isaa of tuulee mataa jabaatetti garuu
inni teessoo isaa irraa kaafamee ulfinni isaas isa irraa fudhatame. 21 Inni uummata
keessaa ari’amee qalbiin horii kennameef; harroota diidaa wajjin jiraatee akka loonii
marga nyaate; inni hamma akka Waaqni Waan Hundaa Olii mootummoota namootaa
irratti bulchaa ta’ee fi akka inni abbaa fedhe isaan irratti muudu beekutti dhagni isaa
fixeensa samiitiin jiidhe.
22 “Yaa Beelshaazaar, ati ilmi isaa utuma waan kana hunda beektuu mataa kee
gad hin qabanne. 23 Qooda kanaa ati Gooftaa samii irratti mataa ol qabatte. Ati
xoofoowwan mana qulqullummaa isaatii fichisiiftee atii fi qondaaltonni kee, niitonnii
fi saajjatoowwan kee isaan keessaa dhugdan. Ati waaqota meetii, warqee, naasii,
sibiilaa, mukaatii fi kan dhagaa kanneen arguu yookaan dhaga’uu yookaan hubachuu
hin dandeenye jajatte. Waaqa lubbuu keetii fi karaa kee hunda harka isaatti qabatee
jiru garuu hin ulfeessine. 24 Kanaafuu inni harka katabbii sana barreesse erge.
25 “Katabbiin barreeffamee tures kana:

Maanee, Maanee, Teeqeel, Faares.

26 “Hiikkaan isaas kana:

“*Maanee* jechuun Waaqni bara kee murteessee gara dhumaatti fide jechuu dha.

27 “*Teeqeel* jechuun ati madaalliidhaan madaalamtee salphattee argamte jechuu
dha.
28 “*Faares* jechuun mootummaan kee qoodamee namoota Meedeetii fi Faaresiitiif
kenname jechuu dha.”
29 Ergasii ajaja Beelshaazaariin Daani’elitti uffata diimaa dhiilgee uffisan; morma
isaattis faaya warqee kaa’aniif; mootummaa sana irrattis bulchaa ol aanaa sadaffaa
ta’ee muudame.
30 Halkanuma sana Beelshaazaar mootiin Baabilonotaa ajjeefame; 31 Daariyoos
namichi Meedee umurii isaa jaatamii lammaffaatti mootummaa sana fudhate.

# 6

*Daani’el Boolla Leencaa Buufame*

1 Daariyoos akka isaan guutummaa mootummaa isaa keessatti bulchitoota ta’aniif
ilmaan moototaa 120 muuduu barbaade; 2 innis isaan irratti bulchitoota ol aantota
sadii muude; isaan keessaas tokko Daani’el ture. Akka mooticha irra rakkinni
hin geenyeefis ilmaan moototaa kunneen bulchitoota ol aantota sadan jalatti bulu.
3 Mootichi sababii Daani’el ilmaan moototaatii fi bulchitoota ol aantota kaan caalaa
dandeettii addaa qabuuf isa jaallatee guutummaa mootummaa irratti isa muuduu
barbaade. 4 Sababii kanaaf bulchitoonni ol aantonnii fi ilmaan moototaa waan hojii
mootummaa ilaaluun Daani’elin himachuuf karaa barbaadan; garuu akkas gochuu
hin dandeenye. Daani’el amanamaa, of eeggataa fi nama mudaa hin qabne waan
ta’eef isaan isa irratti dogoggora tokko iyyuu argachuu hin dandeenye. 5 Dhuma
irrattis namoonni kunneen, “Yoo waan seera Waaqa isaatiin wal qabatu ta’e malee
waan ittiin namicha Daani’el jedhamu kana himannu tokko iyyuu hin argannu”
jedhan.

6 Kanaafuu bulchitoonni ol aantonnii fi ilmaan moototaa tokkummaadhaan
mooticha bira dhaqanii akkana jedhan; “Yaa Daariyoos mooticha, bara baraan
jiraadhu! 7 Yaa mootii, akka namni hamma bultii soddomaatti si malee Waaqa
yookaan nama kam iyyuu kadhatu kam iyyuu boolla leencaatti darbatamu, akka
mootichi labsii baasee ajajni isaas cimu bulchitoonni mootummaa, muudamoonni,
ilmaan moototaa, gorsitoonnii fi qondaaltonni hundi walii galaniiru. 8 Yaa mootii,
labsii baasi, akka seera Meedee fi Faares kan hin geeddaramne sanaas mallatteessi.”
9 Kanaafuu Daariyoos mootichi labsii sana barreessee baase.

10 Daani’elis yommuu akka labsiin sun ba’e beeketti kutaa mana isaa kan foddaan
isaa gara Yerusaalemitti garagalutti ol ba’e. Innis akkuma yeroo kaan godhu guyyaatti
yeroo sadii jilbeenfatee Waaqa isaa kadhate, galatas galcheef. 11 Namoonni kunneen
gareedhaan dhaqanii Daani’elii kadhatuu fi Waaqa isaa gargaarsa gaafatuu argatan.
12 Kanaafuu isaan gara moottichaa dhaqanii, “Yaa mootii, ati akka namni guyyoota
soddomman kana keessa si malee Waaqa yookaan nama tokko iyyuu kadhatu kam
iyyuu boolla leencaatti darbatamu labsii hin baafnee?” jedhanii waa’ee labsii inni
baase sanaa isa gaafatan.

Mootichis, “Seerri sun seera akkuma seera Meedeetii fi Faares kan hin geeddaram-
nee dha” jedhee deebise.

13 Isaan mootichaan, “Yaa mootii, warra Yihuudaadhaa booji’aman keessaa
Daani’el siifis seera ati baafteefis xiyyeeffannaa hin kennu. Inni ammas guyyaatti
yeroo sadii Waaqa isaa kadhata” jedhan. 14 Mootichi yommuu waan kana dhaga’etti
akka malee gadde; Daani’elin baasuufis murteeffatee hamma biiftuun lixxutti waan
danda’ame hunda godhe.

15 Ergasii jarri gareedhaan mootichatti dhi’aatanii, “Yaa mootii, akka seera
Meedeetii fi Faares akka seerri mootiin tokko baase yookaan ajajni inni kenne
geeddaramuu hin dandeenye beeki” jedhaniin.

16 Kanaafuu mootichi ajaja kenne; isaanis Daani’elin fidanii boolla leencaatti
darbatan. Mootichis Daani’eliin, “Waaqni kee kan ati yeroo hunda isa tajaajiltu si
haa baraaru!” jedhe.

17 Dhagaanis fidamee afaan boolla leencaa sanatti qadaadame; mootichis akka
wanni Daani’el irratti murtaa’e sun hin geeddaramne chaappaa mallattoo qubeelaa
isaatii fi kan qubeelaa qondaaltota isaa irratti chaappesse. 18 Ergasiis mootichi
gara masaraa mootummaa isaatti deebi’ee halkan guutuu utuu waa hin nyaatinii
fi gammachuu hin argatin hirriba malee bule.

19 Barii barraaqaanis mootichi ka’ee gara boolla leencaatti ariifate. 20 Innis
yommuu boolla sanatti dhi’aatetti sagalee guddaadhaan, “Yaa Daani’el tajaajilaa

Waaqa jiraataa, Waaqni ati yeroo hunda isa tajaajiltu sun leencota irraa si baraaruu
danda’eeraa?” jedhee Daani’elin waame.
21 Daani’elis deebisee akkana jedhe; “Yaa mootii bara baraan jiraadhu! 22 Waaqni
koo ergamaa isaa ergee afaan leencotaa cufe. Sababii ani fuula isaa duratti qulqulluu
ta’ee argameef isaan homaa na hin goone. Yaa Mootii ani fuula kee durattis yakka
tokko illee hin hojjenneetii.”
23 Mootichis akka malee gammadee akka Daani’el boolla keessaa baafamu ajaje.
Daani’elis waan Waaqa isaa amanatee tureef yommuu boollaa ba’etti madaan tokko
iyyuu isa irratti hin argamne.
24 Warri sobaan Daani’elin himatanis ajaja mootichaatiin niitotaa fi ijoollee isaanii
wajjin fidamanii boolla leencaatti darbataman. Utuu isaan boolla sana keessa lafa
hin ga’in leenconni isaan cicciratanii lafee isaanii hunda caccabsan.
25 Kana irratti Daariyoos Mootichi uummata, sabootaa fi namoota guutummaa
biyyattii keessatti afaan garaa garaa dubbatan hundatti akkana jedhee barreesse:

“Nagaan isiniif haa baay’atu!

26 “Ani akka namni kutaa mootummaa kootii hunda keessatti Waaqa Daani’el
sodaatuu fi akka ulfina isaaf kennu labsii kana baaseera.

“Inni Waaqa jiraataa,
kan bara baraan jiraatuu dha;
mootummaan isaa hin badu;
bulchiinsi isaas dhuma hin qabu.
27 Inni ni baraara; ni oolchas;
samii keessaa fi lafa irratti
mallattoowwanii fi dinqiiwwan hojjeta.
Inni Daani’elin,
afaan leencotaatii baaseera.”

28 Kanaafuu bara Daariyoosii fi bara mootummaa Qiiros namicha Faares sanaa
keessa Daani’elitti jireenyi ni tole.

# 7

*Abjuu Daani’el Waa’ee Bineensota Afranii Arge*

1 Bara Beelshaazaar mootii Baabilon keessa waggaa tokkoffaatti Daani’el utuu siree
isaa irra ciisee jiruu abjuu fi mul’ata arge. Abjuu sanas barreessee waan arges ibse.
2 Daani’el akkana jedhe; “Ani halkan sana mul’ata koo keessatti nan ilaale;
kunoo qilleensonni samii afran fuula koo duratti galaana guddaa raasaa turan.
3 Bineensonni gurguddaan tokkoon tokkoon isaanii wal hin fakkaanne afur galaana
sana keessaa ol ba’an.
4 “Inni jalqabaa leenca fakkaata ture; qoochoowwan risaa qaba ture. Anis hamma
qoochoowwan isaa irraa bubuqqa’anitti nan ilaale; innis lafaa ol qabamee akkuma
namaa miilla lamaan dhaabate; qalbiin namaas ni kennameef.
5 “Kunoo bineensi lammaffaan amaaketa fakkaatu fuula koo dura ture. Innis
cinaacha isaa tokkoon ol jedhee ture; afaan isaa keessatti ilkaan isaa gidduutti lafee
cinaachaa sadii qabatee ture. Bineensa sanaanis, ‘Ka’iitii hamma quuftutti foon
nyaadhu!’ jedhan.
6 “Ergasii ani nan ilaale; fuula koo duras bineensa biraa kan qeerransa fakkaatuttu
ture. Dugda isaa irras qoochoo akka qoochoo simbirroo afurtu ture. Bineensi kun
mataa afur qaba ture; akka bulchuufis aangoon isaa kenname.
7 “Ergasiis ani halkan keessa mul’ata nan arge; kunoo fuula koo dura bineensa
afuraffaa akka malee jabaa, sodaachisaa nama rifachiisu tokkotu ture. Innis ilkaan
sibiilaa dheeraa qaba ture; innis waan qabate caccabsee nyaatee kan hafe immoo

miilla isaa jalatti dhidhiita ture. Bineensi kun bineensota duraan turaniin adda ta’ee gaanfa kudhan qaba ture.

8 “Utuu ani waa’ee gaanfawwan sanaa yaadaa jiruu gaanfi xinnaan isaan gidduudhaa ba’e biraa tokko fuula koo duratti mul’ate; gaanfawwan jalqabaa keessaa sadan isaanii fuula isaa duratti bubuqqa’an. Gaanfi kunis ija ija namaa fakkaatuu fi afaan of tuulummaadhaan dubbatu qaba ture.

9 “Utuma ani ilaaluu,
“Teessoowwan iddoo iddoo isaanii kaa’aman;
Inni Bara Durii teessoo isaa irra taa’e.
Uffanni Isaa adii akka cabbii ture;
rifeensi mataa isaa qulqulluu akka suufii ture.
Teessoon Isaa akka arraba ibiddaa,
geengoowwan isaa hundinuus
akka ibidda boba’aa jiruu turan.
10 Lagni ibiddaa tokko
fuula isaa duraa ni yaa’a ture.
Kumni kumaatamni irratti isa tajaajilu turan;
kumni kudhan kan yeroo kuma kudhan baay’atan
fuula isaa dura dhaabatanii turan.
Dhaddachi taa’amee ture;
kitaabonnis banamanii turan.

11 “Ani sababii dubbii of tuulummaa gaanfi sun dubbachaa jiruutiif ilaaluu koo
ittan fufe. Anis amma illee ittuma fufee hamma bineensi sun qalamee dhagni
isaa barbadaa’ee ibidda boba’utti darbatamutti nan ilaale. 12 Bineensota kaan
irraa immoo aangoon isaanii ni fudhatame; garuu akka isaan yeroof jiraatan ni
eeyyamameef.

13 “Anis mul’ata halkaniitiin nan ilaale; kunoo fuula koo dura ilma namaa kan fakkaatu tokkotu duumessa samiitiin dhufaa ture. Innis gara Isa Bara Duriitti dhufe;
fuula isaa durattis isa dhi’eessan. 14 Isaafis taayitaan, ulfinnii fi mootummaan ni
kenname; uummanni hundi, saboonnii fi namoonni afaan garaa garaa dubbatanis isa waaqeffatan. Bulchiinsi isaa bulchiinsa bara baraa kan hin dabarree dha; mootummaan isaas kan gonkumaa hin badnee dha.

### *Hiikkaa Abjuu Sanaa*

15 “Ani Daani’el hafuura kootiin nan jeeqame; mul’anni ani arges akka malee na
sodaachise. 16 Anis warra achi dhadhaabachaa turan keessaa isa tokkotti dhi’aadhee
hiikkaa dhugaa kan waan kana hundaa nan gaafadhe.

“Kanaafuu inni natti himee akkana jedhee hiikkaa waan kanaa anaaf ibse:
17 ‘Bineensonni gurguddaan afran mootota afran ka’anii lafa irratti mo’anii dha.
18 Garuu qulqulloonni Waaqa Waan Hundaa Olii mootummaa sana ni fudhatu; bara
baraanis ni fudhatu; eeyyee, bara baraa hamma bara baraatti ni dhaalu.’

19 “Ergasiis ani hiikkaa dhugaa kan bineensa afuraffaa isa bineensota kaan irraa adda ta’ee ilkaan sibiilaatii fi qeensa naasii qabu kan akka malee sodaachisaa ta’e kan waan qabate nyaatuu fi waan hafe immoo miilla isaa jalatti dhidhiitu sanaa
beekuu nan barbaade. 20 Akkasumas waa’ee gaanfawwan kurnan mataa isaa irra
jiraniitii fi gaanfa ba’e inni biraa kan isaan kaan fuula isaa duratti kufanii, isa hunda isaanii caalu kan ijaa fi afaan ittiin of jajaa dubbatu qabu sanaa beekuu nan barbaade.
21 Gaanfi kunis utuma ani arguu qulqulloota irratti waraana labsee isaan mo’achaa
ture; 22 kunis hamma Inni Bara Durii dhufee qulqulloota Waaqa Waan Hundaa Oliitiif
murutti ture; yeroon itti qulqulloonni mootummaa dhaalanis ni dhufe.

23 “Innis akkana naan jedhe: ‘Bineensi afuraffaan sun mootummaa afuraffaa lafa irratti mul’atuu dha. Inni mootummoota kaan hunda irraa adda; guutummaa lafaa

barbadeessee gad dhidhiitee daaraa godha. 24 Gaanfawwan kurnan mootota kurnan
mootummaa kana keessaa dhufanii dha. Isaan booddees mootiin biraa kan warra
duraa irraa adda ta’e tokko ni ka’a; innis mootota sadii of jala galfata. 25 Inni Waaqa
Waan Hundaa Olii mormuudhaan qulqulloota isaa cunqursee yeroo murteeffameef
seera illee geeddaruuf yaala. Qulqulloonnis bara tokkoof, bara lamaa fi walakkaa
baraatiif dabarfamanii harka isaatti ni kennamu.

26 “ ‘Garuu dhaddachi ni taa’ama; aangoon isaas irraa fudhatamee inni bara baraan
guutumaan guutuutti ni barbadeeffama. 27 Ergasiis gooftummaan, humnii fi guddinni
mootummootaa guutummaa samii gaditti qulqulloota, Waaqa Waan Hundaa Oliitiif ni
kennamu. Mootummaan isaas mootummaa bara baraan itti fufuu dha; bulchitoonni
hundinuu isa waaqeffatu; ni ajajamuufis.’

28 “Dhumni waan sanaa kana. Ani Daani’el yaada kootiin akka malee nan
dhiphadhe; fuulli koo ni geeddarame; ani garuu waan sana garaa kootti qabadheen
ture.”

# 8

*Mul’ata Daani’el Arge*

1 Bara Beelshaazaar mootichaa keessa waggaa sadaffaatti, ani Daani’el, mul’ata
duraan natti mul’ate sana booddee mul’ata tokko nan arge. 2 Anis mul’ata koo
keessatti gamoo Suusaa kan kutaa biyyaa Eelaam keessattan of arge. Ani mul’ata
sana keessatti Laga Uulayi biran ture. 3 Anis ija ol fudhadhee korbeessa hoolaa gaanfa
lama qabu utuu laga cina dhaabatu nan arge; gaanfi isaas dheeraa ture. Gaanfa
isaa keessaa inni tokko isa kaan irra dheerata; ergasii garuu ni guddate. 4 Ani utuu
korbeessi hoolaa sun gara lixa biiftuutti, gara kaabaa fi gara kibbaatti jifatuu nan
arge; horiin fuula isaa dura dhaabachuu danda’e tokko iyyuu hin turre; kan humna
isaa jalaa baasuu danda’u tokko iyyuu hin turre. Inni waanuma barbaade hojjetee
guddaa ta’e.

5 Utuma ani waan kana yaadaa jiruu korbeessi re’ee kan ija isaa lamaan
gidduudhaa gaanfa qabu tokko utuu lafa hin tuqin guutummaa lafaa qaxxaamuraa
akkuma tasaa lixa biiftuutii dhufe. 6 Innis gara korbeessa hoolaa kan gaanfa lama
qabu kan ani utuu inni laga cina dhaabatuu arge sanaa dhufee aarii guddaadhaan
isa jifate. 7 Ani utuu inni akka malee aaree isa dha’ee gaanfa isaa lamaanis isa irraa
caccabsuu nan arge. Hoolaan sun of irraa isa dhowwuuf humna hin qabu ture; re’een
sun lafaan isa dha’ee of jalatti dhidhiite; hoolaa sanas humna isaa jalaa baasuu kan
danda’u tokko iyyuu hin turre. 8 Re’een sunis akka malee guddate; garuu yeroo
humni isaa jabaatetti gaanfi isaa guddichi isa irraa cabe; qooda isaas gaanfawwan
afur guddatanii gara bubbeewwan samii afraniitti ba’an.

9 Afran isaanii keessaa isa tokko keessaa gaanfi biraa ba’e; innis xinnaa fakkaatee
ergasii garuu humnaan jabaatee gara kibbaa, gara lixa biiftuutii fi Biyya Bareedduu
sanaatti guddate. 10 Gaafni sunis hamma raayyaa samiiwwanii qaqqabee raayyaa
urjiiwwanii keessaa tokko tokko lafatti gad darbatee of jalatti dhidhiitutti guddate.
11 Akka waan ajajaa loltoota Waaqaatiin wal qixxaateettis mataa ol qabate; aarsaa
guyyaa guyyaa illee isa irraa fudhate; iddoon isaa qulqulluunis gad darbatame.
12 Sababii cubbuutiif raayyaan qulqullootaatii fi aarsaan guyyaa guyyaan dhi’eeffamu
dabarfamanii isaaf kennaman. Inni waan hojjetu hunda keessatti ni milkaa’e;
dhugaanis lafatti gatame.

13 Anis utuu qulqullichi dubbatuu nan dhaga’e; qulqulluun kaan, “Mul’anni
waa’ee aarsaa guyyaa guyyaa, kan cubbuu badiisa fiduu, kan iddoo qulqulluutii
fi raayyaawwan akka miilla jalatti dhidhiitamaniif dabarfamanii kennaman sanaa
yoomi raawwata?” jedheen.

14 Innis, “Wanni sun galgalaa fi ganama 2,300 fudhata; ergasii iddoon qulqulluun
deebi’ee ni qulqulleeffama” naan jedhe.

### *Hiikkaa Mul’ata sanaa*

15 Utuma ani Daani’el mul’ata sana argee hiikkaa isaa hubachuuf yaalaa jiruu inni
nama fakkaatu tokko fuula koo dura dhaabate. 16 Anis sagalee nama tokkoo kan “Yaa
Gabri’eel, hiikkaa mul’ata sanaa nama kanatti himi” jedhu tokko Uulayi nan dhaga’e.
17 Akkuma inni iddoo ani dhaabachaa ture dhufeen ani rifadheen addaan lafatti
gombifame. Innis, “Yaa ilma namaa, akka mul’anni sun waa’ee bara dhumaa
argisiisu hubadhu” naan jedhe.
18 Yeroo inni natti dubbachaa turettis, ani addaan lafatti gombifamee hirriba cimaa
keessan ture. Inni garuu na tuqee ol na qabee miilla kootiin na dhaabe.
19 Innis akkana jedhe; “Ani waan booddee yeroo dheekkamsaatti dhufuuf jiru
sitti nan hima; mul’anni sun waan bara dhumaa kan murtaa’e sana keessatti ta’u
argisiisaatii. 20 Korbeessi hoolaa kan gaafa lamaa ati argite sun, mootota Meedee fi
Faares argisiisa. 21 Re’een rifeensa qabu sun mootii Giriik; gaanfi guddaan ija isaa
lamaan gidduu immoo mootii jalqabaa ti. 22 Gaanfawwan afran gaanfa cabe tokko
iddoo bu’an mootummoota saba isaa keessaa ba’an afran argisiisan; isaan garuu
humna akka isaa hin qaban.
23 “Dhuma bulchiinsa isaaniitti, yeroo finciltoonni akka malee hammaachaa
deemanitti mootiin adda jabeessi hibboo hubatu tokko ni ka’a. 24 Innis akka
malee jabaa ta’a; garuu humna isaatiin miti. Inni badiisa suukaneessaa fida;
waan hojjetu hundaan ni milkaa’a. Namoota jajjaboo fi qulqulloota ni balleessa.
25 Inni badhaadhuuf jedhee gowwoomsaa hojjeta; akka nama guddaattis of ilaala.
Inni yommuu isaan waan nagaa qaban se’anitti baay’ee isaanii balleessee Mootii
moototaattis ni ka’a. Ta’u illee inni ni bada; garuu humna namaatiin miti.
26 “Mul’anni galgalaa fi ganama sitti mul’ifame sunis dhugaa dha; garuu sababii
inni waan bara dheeraa booddee ta’uuf jiru argisiisuuf isa cufi.”
27 Ani Daani’elis akka malee dadhabee guyyoota baay’ee dhukkubsadheen ciise.
Ergasiis ka’ee gara hojii mootichaa nan dhaqe. Anis mul’atan argee sanaan rifadheen
ture; dubbiin isaas naaf hin galle.

## 9

### *Kadhannaa Daani’el*

1 Bara Daariyoos ilma Ahashweroos namicha Meedee kan mootummaa Kaldootaa
irratti bulchaa taasifame sanaa keessa waggaa tokkoffaatti 2 bara mootummaa
isaa keessa waggaa tokkoffaatti ani Daani’el dubbii WAAQAYYOO kan Ermiyaas raa-
jichaaf kenname irraa akka Yerusaalem waggaa torbaatamaaf ontee turtu kitaabota
qulqulluu irraa nan hubadhe. 3 Kanaafuu ani deebii barbaadee kadhannaa fi
waammataan, soomaan, wayyaa gaddaa uffachuudhaa fi daaraa keessa taa’uudhaan
gara Waaqayyoo Gooftaatti nan deebi’e.
4 Anis WAAQAYYO Waaqa kootti kadhannaa dhi’eessee akkana jedheen cubbuu saba
kootii himadhe:
“Yaa Gooftaa, Waaqa guddaa fi akka malee sodaachisaa kan warra si jaallatanii
ajaja kee eegan hundaaf kakuu jaalala keetii eegdu, 5 nu cubbuu hojjenneerra;
balleessineerras. Nu jal’oota turre; fincilleerras; ajajaa fi seera kee irraa
garagalleerra. 6 Nu tajaajiltoota kee raajota warra maqaa keetiin mootota keenyatti,
ilmaan mootota keenyaatti, abbootii keenyaa fi saba lafaa hundatti dubbatan sana
hin dhaggeeffanne.
7 “Yaa Gooftaa, ati qajeelaa dha; garuu nu namoonni Yihuudaa, sabni
Yerusaalemii fi Israa’el kanneen ati sababii amanamummaa dhabuu keenyaatiin

biyyoota dhi’oo fi fagoo keessa bittinneessite hundi har’a qaaniidhaan haguugam-
neerra. 8 Yaa WAAQAYYO nuu fi mootonni keenya, ilmaan moototaatii fi abbootiin
keenya waan cubbuu sitti hojjenneef qaaniidhaan haguugamneerra. 9 Yoo nu
isatti fincillee jiraanne iyyuu Waaqni keenya Gooftichi araara qabeessa; dhiifamas
namaaf godha; 10 nu WAAQAYYO Waaqa keenyaaf hin ajajamne yookaan seera
isaa kan inni karaa tajaajiltoota isaa raajotaatiin nuuf kenne sana hin eegne.
11 Israa’eloonni hundinuu siif ajajamuu diduudhaan seera kee cabsaniiru; sirraa
garagalaniirus.

“Kanaafuu sababii nu cubbuu sitti hojjenneef abaarsaa fi kakuun Seera Musee
garbicha Waaqaa sanaa keessatti barreeffame nurratti dhangala’e. 12 Ati balaa
guddaa nutti fiduudhaan dubbii nuu fi bulchitoota keenya irratti dubbatame
sana raawwatteerta. Wanni akka waan Yerusaalem irratti ta’e sanaa takkumaa
guutummaa samiitii gaditti ta’ee hin beeku. 13 Akkuma Seera Musee keessatti
barreeffametti balaan kun hundi nutti dhufeera; ta’u iyyuu nu qalbii jijjiirrannee
dhugaa duukaa bu’uudhaan WAAQAYYO Waaqa keenya irraa araara hin barbaanne.
14 WAAQAYYO balaa nutti fiduu irraa duubatti hin deebine; WAAQAYYO Waaqni
keenya waan hojjetu hundaan qajeelaadhaatii; nu garuu isaaf hin ajajamne.

15 “Egaa amma yaa Waaqa keenya Gooftaa, kan irree jabaadhaan saba kee
biyya Gibxi baaftee akka maqaan kee akkuma har’a jiru kana beekamu goote, nu
cubbuu hojjenneerra; balleessineerras. 16 Yaa Gooftaa, akkuma hojii kee qajeelaa
sana hundaatti Yerusaalem magaalaa keetii fi gaara kee qulqulluu irraa aarii
fi dheekkamsa kee deebisi. Cubbuun keenyaa fi balleessaan abbootii keenyaa
namoota naannoo keenya jiraatan hunda biratti akka Yerusaalemii fi sabni kee
waan kolfaa ta’an godheera.

17 “Egaa yaa Waaqa keenya, kadhannaa fi waammata garbicha keetii dhaga’i.
Yaa Gooftaa, ulfina keetiif jedhiitii fuula kee gara iddoo kee qulqulluu one sanaatti
deebisi. 18 Yaa Waaqa ko, gurra itti qabii dhaga’i; ija kee banadhuutii badii keenyaa
fi magaalaa Maqaan kee ittiin waamame sana ilaali. Nu utuu waa’ee qajeelummaa
keenyaatiif hin ta’in sababii araara kee guddaa sanaatiif si kadhanna. 19 Yaa
Gooftaa dhaggeeffadhu! Yaa Gooftaa dhiifama nuu godhi! Yaa Gooftaa dhaga’iitii
waa hojjedhu! Yaa Waaqa ko, sababii magaalaan keetii fi sabni kee Maqaa keetiin
waamamuuf ati hin turin.”

### *Torban “Torbaatama”*

20 Utuu ani dubbichaa fi kadhachaa, cubbuu kootii fi cubbuu saba koo Israa’el
himachaa, tulluu isaa qulqulluufis WAAQAYYO Waaqa koo gaafachaa jiruu, 21 utuu ani
amma illee kadhannaa irra jiruu, Gabri’eel namichi ani mul’ata koo duraa keessatti
arge sun, yeroo aarsaa galgalaatti ariitiidhaan barrisaa gara koo dhufe. 22 Innis
akkana jedhee na barsiise; akkanas naan jedhe; “Yaa Daani’el ani amma ogummaa
fi hubannaa siif kennuuf dhufeera. 23 Akkuma ati Waaqa kadhachuu jalqabdeen
deebiin ani sitti himuuf dhufe kun siif kenname; ati akka malee jaalatamaadhaatii.
Kanaafuu ergaa kana qalbeeffadhuutii mul’ata sana hubadhu:

24 “Dogoggora hambisuuf, cubbuu balleessuuf, araara yakkaa buusuuf, qajeelum-
maa bara baraa fiduuf, mul’ataa fi raajii chaappaadhaan cufuuf, Iddoo Iddoo Hunda
Caalaa Qulqulluu ta’e sana dibuuf saba keetii fi magaalattii qulqulluu keetiif ‘torban’
torbaatamni labsameera.

25 “Waan kana beeki; hubadhus: Gaafa labsiin Yerusaalemin haaromsuu fi
deebisanii ijaaruuf labsame kun ba’ee jalqabee hamma Masiihichi, Bulchaan dhufutti
‘torban’ torbaatamaa fi torban jaatamii lama ta’a. Isheen daandiiwwanii fi dallaa
wajjin ni haaromfamti; garuu wanni kun yeroo rakkinaa keessa ta’a. 26 ‘Torban’
jaatamii lama booddee Masiihichi ni ajjeefama; wanni tokko iyyuu isaaf hin hafu.

Namoonni bulchaa dhufuuf jiru tokkoo magaalaa sanaa fi iddoo qulqulluu ni
barbadeessu. Dhumnis akkuma lolaatti dhufa: Waraanni hamma dhumaatti itti fufa;
badiisnis labsameera. 27 Bulchaan kunis ‘Torban’ tokkoof namoota baay’ee wajjin
kakuu godhata; walakkaa ‘Torban’ sanaatti aarsaa fi kennaan akka hafu godha. Innis
hamma wanni labsame sun isa irratti dhangala’utti waan xuraa’aa badiisa fidu mana
qulqullummaa gubbaa ni dhaaba.”

# 10

*Daani’el Mul’ataan Nama Arguu Isaa*

1 Bara Qiiros mooticha Faares keessa waggaa sadaffaatti Daani’el isa Beelxishaazaar
jedhame sanatti mul’anni tokko mul’ate. Ergaan isaas dhugaa fi kan waa’ee
waraanaa ibsu ture. Hubannaan ergaa sanaas mul’ataan isaaf kenname.

2 Yeroo sanatti ani Daani’el torban sadii nan boo’e. 3 Hamma torban sadan
sun raawwatamanitti ani nyaata filatamaa tokko illee hin nyaanne; fooni yookaan
daadhiin wayinii afaan koo hin seenne; dibata tokko illees hin dibanne.

4 Bultii digdamii afuraffaa ji’a jalqabaatti ani utuun qarqara laga guddichaa Laga
Xegroos irra dhaabadhee jiruu, 5 ol ilaalee namicha wayyaa quncee talbaa irraa
hojjetame uffatee sabbata warqee Uufaazii qulqulluu mudhii isaatti hidhate tokko
fuula koo duratti arge. 6 Nafni isaa akka biiralee, fuulli isaa akka balaqqee, iji isaa
akka guca boba’uu, irree fi miilli isaa akka naasii dibamee cululuqee, sagaleen isaa
immoo akka sagalee namoota baay’ee ture.

7 Namni mul’ata sana arge anuma Daani’el qofa ture; namoonni na wajjin turan
hin argine; garuu sodaan guddaan isaan qabatee baqatanii dhokatan. 8 Kanaafuu
ani mul’ata guddaa kana ilaalaan kophaatti hafe; humna nan dhabe; fuulli koos ni
geeddarame; nan laafes. 9 Kana irratti ani utuu inni dubbatuu nan dhaga’e; ani
akkuman isa dhaga’een adda kootiin lafatti gombifamee hirribni cimaan na qabe.

10 Ergasii garuu harki tokko na qabee utuu ani holladhuu harkaa fi jilba kootiin na
dhaabe. 11 Innis, “Yaa Daani’el, ati kan akka malee jaallatamte dubbii ani sitti himuuf
jiru sirriitti qabadhu; ani gara keetti ergameeraatii ol ka’i” jedhe. Anis yommuu inni
waan kana naan jedhetti hollachaan ka’ee dhaabadhe.

12 Ammas akkana naan jedhe; “Yaa Daani’el hin sodaatin. Guyyaa tokkoffaa gaafa
ati hubannaa argachuu fi fuula Waaqa keetii duratti of xinneessuuf murteessitee
jalqabee dubbiin kee dhaga’ameera; anis deebii isaa fidee dhufeera. 13 Ergamaan
guddichi mootummaa Faares garuu bultii digdamii tokko naan morme. Sababii ani
ilma mooticha mootummaa Faares wajjin achitti hafee tureef hangafoota ergamootaa
keessaa Miikaa’el na gargaaruuf dhufe. 14 Ani amma waan gara fuula duraatti saba
kee irra ga’uuf jiru sitti himuuf dhufeera; mul’anni sun waan yeroon isaa amma illee
hin ga’in argisiisaatii.”

15 Utuma inni waan kana natti dubbachaa jiruu ani mataa gad qabadhee waanan
dubbadhus dhabe. 16 Ergasii inni nama fakkaatu tokko hidhii koo tuqe; anis
afaan banadheen dubbachuu jalqabe. Isa fuula koo dura dhaabachaa ture sanaanis
akkanan jedhe; “Yaa gooftaa ko, ani sababii mul’ata sanaatiif dhiphadheera; humnas
dhabeera. 17 Yaa gooftaa ko, ani garbichi kee akkamittan si wajjin haasa’uu danda’a?
Humni koo dhumeera; ani hafuura baafachuu illee dadhabeera.”

18 Ammas inni nama fakkaatu sun na tuqee humna naa kenne. 19 Innis, “Yaa
namicha akka malee jaallatamte, hin sodaatin; nagaan siif haa ta’u! Amma jabaadhu;
jajjabaadhus” naan jedhe.

Yeroo inni natti dubbatetti ani nan jajjabaadhee, “Yaa Gooftaa ko, ati waan na
jajjabeessiteef dubbadhu” isaan jedhe.

20 Kana irratti inni akkana naan jedhe; “Ati waan ani gara kee dhufeef beektaa?
Ani ergamaa guddicha mootummaa Faares loluuf nan deebi’a; yeroo ani deemutti
immoo ergamaan guddichi mootummaa Giriik ni dhufa; 21 garuu ani duraan dursee
waan Kitaaba Dhugaa keessatti barreeffame sittin hima. Isaan loluufis Miikaa’el
hangafticha keessan malee kan na gargaaru kan biraa hin jiru.

# 11

1 Anis bara Daariyoos namicha Meedon keessaa waggaa tokkoffaatti isa jajjabeessuu
fi eeguuf isa bira dhaabadheen ture.

### *Moototа Kibbaatii fi Kaabaa*

2 “Egaa ani dhugaan sitti hima: Mootonni biraa sadii Faares keessatti ni ka’u;
ergasiis mootiin afuraffaan warra kaan hunda irra sooressa ta’e tokko ni ka’a. Innis
erga qabeenya isaatiin jabina argatee booddee tokkoo tokkoo namaa mootummaa
Giriik irratti ni kakaasa. 3 Ergasii mootiin jabaan tokko ni ka’a; innis humna
guddaadhaan ni bulcha; waan fedhes ni hojjeta. 4 Erga inni dhufee booddee
mootummaan isaa diigamee gara qilleensota samii afraniitti gargar qoqqoodama.
Mootummaan isaa buqqa’ee moototа biraatiif waan kennamuuf sanyii isaatti hin
darbu yookaan humna inni argatee ture sana hin qabaatu.

5 “Mootiin Kibbaa ni jabaata; ajajjoota loltoota isaa keessaa tokko garuu isa
caalaa iyyuu jabaatee humna guddaadhaan mootummaa sana bulcha. 6 Waggoota
muraasaan booddee isaan tokko ta’u; walii galtee godhachuufis intalli mooticha
Kibbaa gara mootii Kaabaa ni dhaqxi; garuu humna ishee qabattee turuu hin
dandeessu; innii fi humni isaa jabaatee hin jiraatu. Bara sana keessa isheen,
qondaaltota ishee, abbaa isheetii fi nama ishee gargaare wajjin dabarfamtee ni
kennamti.

7 “Hidda sanyii ishee keessaas namni tokko iddoo ishee qabachuuf ni ka’a. Innis
humnoota mootii Kaabaa dha’ee da’annoowwan isaas cabsee ni seena; lolees isaan
mo’ata. 8 Inni waaqota isaanii, fakkiiwwan isaanii kan sibiilaatii fi mi’oota isaanii
gati jabeeyyii meetii fi warqee booji’ee gara Gibxitti ni geessa. Waggoota muraasaafis
mootii Kaabaa waraanuu ni dhiisa. 9 Ergasii mootiin Kaabaa daangaa mootii Kibbaa
ni qabata; garuu of irra garagalee biyya isaatti deebi’a. 10 Ilmaan isaa waraanaaf
qophaa’anii humna waraanaa guddaa tokko walitti qabatu; humni kunis akkuma
lolaa namni of irraa deebisuu hin dandeenye tokkootti hamma da’annoo isaatti
duulee lola.

11 “Ergasiis mootiin Kibbaa aariidhaan duulee mootii Kaabaa kan loltoota hedduu
walitti qabate sana ni waraana; loltoonni hedduun sun garuu ni mo’amu. 12 Mootiin
Kibbaa sun yommuu loltoota baay’ee booji’utti garaan isaa of tuulummaadhaan
guutamee kuma baay’ees ni gogorra’a; garuu mo’ichi isaa itti hin fufu. 13 Mootiin
kaabaa humna waraanaa kan isa duraa sana caalaa guddaa walitti qabataatii;
waggoota baay’ee booddees humna waraanaa guddaa kan guutummaatti hidhate
qabatee ni dhufa.

14 “Yeroo sanatti namoonni baay’een mootii Kibbaatti ni ka’u. Mul’ata sana
raawwachuuf uummata kee keessaa finciltoonni ni ka’u; garuu ni kufu. 15 Ergasii
mootiin Kaabaa dhufee tuulaa biyyoo hojjetee magaalaa dallaadhaan marfamte ni
qabata. Humnoonni waraana Kibbaas of irraa deebisuuf humna ni dhabu; loltoonni
isaanii jajjaboon iyyuu isaan dura dhaabachuuf humna dhabu. 16 Inni itti duule
sun waanuma fedhe hojjeta; namni tokko iyyuu of irraa isa deebisuu hin danda’u.
Inni Biyya Bareedduu sana keessa jabaatee dhaabata; ishee balleessuufis humna
qabaata. 17 Inni jabina mootummaa isaa guutuudhaan dhufuu murteessa; mootii
Kibbaa wajjinis walii galtee godhata. Inni mootummaa sana kuffisuuf intala isaa itti

heerumsiisa; karoorri isaa kun garuu hin milkaa’u yookaan isa hin fayyadu. 18 Ergasii
inni gara biyyoota qarqara galaanaa jiraniitti yaada isaa deebifatee baay’ee isaanii
qabata; garuu ajajaan tokko of tuulummaa isaa ni fashaleessa; of tuulummaa isaas
matuma isaatti deebisa. 19 Kana irratti inni fuula isaa gara da’annoowwan biyya
isaatti deebifata; garuu gufatee kufa; deebi’ees hin argamu.

20 “Namni iddoo isaa bu’u ulfina mootummaa eegsisuuf warra gibira walitti qaban
ni erga. Ta’us inni utuu aariidhaan yookaan waraanaan hin ta’in yeroo gabaabaa
keessatti bada.

21 “Iddoo isaas nama tuffatamaa ulfinni mootummaa hin kennaminiifitu qabata.
Inni utuu sabni nagaadhaan jiraatuu mootummaatti duulee dabaan qabata. 22 Ergasii
raayyaan guddaan tokko fuula isaa duraa ni haxaa’ama; innii fi hangafni kakuus ni
balleeffamu. 23 Inni erga isa wajjin walii galtee godhatee booddee hojii gowwoomsaa
hojjeta; namoota muraasa wajjinis aangoo qabata. 24 Yeroo kutaawwan biyya
sooreyyiin nagaadhaan jiraatanitti isaanitti duulee waan abbootiin isaa yookaan
akaakileen isaa hin hojjetin hojjeta. Innis waan booji’ame, waan saamamee fi
qabeenya duuka bu’oota isaatiif ni qoqqooda. Inni da’annoowwan jigsuuf ni malata;
garuu yeroo muraasaaf waan kana godha.

25 “Inni raayyaa loltootaa guddaadhaan ciminaa fi jabina isaa mootii Kibbaa irratti
ni kakaasa. Mootiin Kibbaas loltoota akka malee baay’ee fi humna qabaniin waraana
labsa; garuu sababii mariin isa irratti mari’atamuuf of irraa ittisuu hin danda’u.
26 Warri maaddii mootichaa irraa nyaachaa turan isa balleessuu yaalu; loltoonni
isaa ni barbadaa’u; baay’een isaaniis waraana keessatti dhumu. 27 Mootonni garaan
isaanii hammina yaadu lamaan minjaala tokkotti naanna’anii tataa’anii wal sobu;
garuu sababii barri dhumaa yeroo murteeffametti dhufuuf wanni kun isaaniif hin
milkaa’u. 28 Mootiin Kaabaa qabeenya guddaadhaan gara biyya isaatti deebi’a;
garaan isaa garuu kakuu qulqulluu morma. Waanuma fedhe itti hojjetee gara biyya
isaatti deebi’a.

29 “Yeroo murteeffamettis deebi’ee Kibba weerara; yeroo kanatti garuu haalli isaa
kan duraa sanaan adda ta’a. 30 Dooniiwwan Kitiim isa mormu; innis abdii kutata.
Ergasii duubatti deebi’ee kakuu qulqulluutti dheekkamsa isaa buusa. Deebi’ees
warra kakuu qulqulluu dhiisan jaallata.

31 “Humni loltoota isaas dallaa mana qulqullummaa jabaa sana xureessuuf ni ka’a;
aarsaa guyyaa guyyaas ni hambisa. Ergasiis isaan xuraa’ummaa badiisa fidu tokko
dhaabu. 32 Inni warra kakuu sana dhiisan gowwoomsee ni dogoggorsa; warri Waaqa
isaanii beekan garuu jabaatanii dhaabachuudhaan isa mormu.

33 “Ogeeyyiin yoo yeroodhaaf goraadeedhaan dhuman illee yookaan gubaman illee
yookaan booji’aman illee yookaan saamaman illee namoota hedduu ni barsiisu.
34 Isaan yeroo dhumuu ga’anitti gargaarsa xinnaa argatu; fakkeessitoonni hedduunis
isaan deeggaru. 35 Ogeeyyii keessaa tokko tokko akka hamma dhumaatti calalamaniif,
akka qulqulleeffamanii warra hir’ina hin qabne ta’aniif ni gufatu; wanni kun amma
iyyuu yeroo murteeffametti ni dhufaatii.

### *Mootii Ol Ol Of Qabu*

36 “Mootiin waan jaallate hojjeta. Inni Waaqa kam iyyuu caalaa ol ol of qabee
Waaqa waaqotaa mormuudhaan waan dhaga’amee hin beekne dubbata. Inni hamma
yeroon dheekkamsaa guutamutti ni milkaa’a; wanni murteeffame sun guutamuu
qabaatii. 37 Inni waaqota abbootii isaatiif yookaan kan dubartoonni isa jaallataniif
yookaan Waaqa kamiif iyyuu ulfina hin kennu; garuu hunda isaanii caalaa ol ol of
qaba. 38 Qooda isaanii waaqa da’annoowwaniitiif ulfina kenna; inni waaqa abbootiin
isaa hin beekin warqee fi meetiidhaan, dhagaawwan gati jabeeyyii fi kennaawwan
gati jabeeyyiidhaan ulfeessa. 39 Inni gargaarsa waaqa ormaatiin da’annoowwan

jajjaboo waraana; warra isa jalatti bulanis akka malee kabaja. Namoota baay'ee
irrattis bulchitoota isaan godhee gatiidhaan lafa qoodaaf.

40 "Bara dhumaa keessa mootiin Kibbaa waraana itti bana; mootiin Kaabaas
fardeen, gaariiwwanii fi dooniiwwan hedduudhaan akkuma dambalii isa irra
garagala. Biyyoota baay'ee weeraree akkuma lolaa isaan keessa ba'ee darba.
41 Akkasumas Biyya Bareedduu weerara. Biyyoonni baay'een harka isaa jala galu;
Edoom, Mo'aabii fi hooggantoonni Amoon garuu isa jalaa ni ba'u. 42 Innis biyyoota
baay'ee irratti aangoo isaa ni babal'ifata; Gibxis hin miliqxu. 43 Qabeenya warqeetii
fi meetii, akkasumas badhaadhummaa Gibxi hunda to'annaa ofii isaa jala galfata;
namoonni Liibiyaatii fi Itoophiyaas isa jalatti bulu. 44 Garuu oduun ba'aa fi kaabaa
dhufu isa sodaachisa; inni namoota baay'ee balleessuu fi fixuuf aarii guddaadhaan ni
ba'a. 45 Dunkaana mootummaa isaas galaanotaa fi tulluu bareedaa qulqulluu gidduu
ni dhaabbata. Ta'u illee inni dhuma ofii isaatti ni dhufa; namni tokko iyyuu isa hin
gargaaru.

# 12

*Bara Dhumaa*

1 "Yeroo sanatti Miikaa'el hangafni ergamootaa inni saba kee eegu ni ka'a. Yeroon
rakkinaa kan erga saboonni uumamanii jalqabee hamma gaafasiitti takkumaa ta'ee
hin beekne tokko ni dhufa. Yeroo sanatti garuu namoonni kee kanneen maqaan
isaanii kitaabicha keessatti galmeeffamee jiru hundi ni baraaramu. 2 Warri biyyoo
lafaa jala ciciisan baay'een ni ka'u: Gariin jireenya bara baraatiif, kaan immoo qaanii
fi salphina bara baraatiif ka'u. 3 Ogeeyyiin akkuma ifa samiiwwaniitti calaqqisu;
warri nama baay'ee gara qajeelummaatti fidanis akkuma urjiitti bara baraa hamma
bara baraatti ni ifu. 4 Yaa Daani'el, ati garuu hamma bara dhumaatti dubbii kitaaba
maramaa cufiitii chaappessi. Namoonni baay'een beekumsa dabalachuuf asii fi achi
fiigu."

5 Ani Daani'el nan ilaale; kunoo fuula koo dura namoonni biraa lama dhadhaa-
batanii turan; tokko qarqara lagaa gamanaan, inni lammaffaan immoo qarqara lagaa
gamasiin ture. 6 Isaan keessaa tokko namicha uffata quncee talbaa irraa hojjetame
uffatee bishaanota lagaatii ol jiruun, "Waantonni dinqii kunneen raawwatamuuf
yeroo hammamtu hafa?" jedhe.

7 Namichi uffata quncee talbaa irraa hojjetame uffatee bishaanota lagaatiin ol ture
sun harka isaa mirgaatii fi bitaa ol qabe; anis isaa, "Wanni kun baraan, barootaaf
walakkaa baraatiif ta'a. Yeroo humni namoota qulqulluu dhuma irratti cabutti wanni
kun hundi fiixaan ba'a" jedhee isa bara baraan jiraatu sanaan kakatu nan dhaga'e.

8 Anis nan dhaga'e; garuu hin hubanne. Kanaafuu ani, "Yaa gooftaa ko, dhumni
waan kana hundaa maal ta'a?" jedheen gaafadhe.

9 Innis akkana jedhee deebise. "Yaa Daani'el, sababii hamma bara dhumaatti
dubbiin sun chaappaan chaappeffameef ati karaa kee qabadhu. 10 Namoonni
baay'een ni qulqulleeffamu; warra hir'ina hin qabne ni ta'u; ni calalamus; hamoonni
garuu ittuma fufanii hammaatu. Namoota hamoo keessaa tokko iyyuu hin hubatan;
ogeeyyiin garuu ni hubatu.

11 "Gaafa aarsaan guyyaa guyyaatti dhi'aatu hambifamee jalqabee hamma gaafa
wanni jibbisiisaan badiisa fidu sun achi dhaabatuutti guyyoota 1,290 ta'a. 12 Namni
obsee dhuma guyyoota 1,335 qaqqabu eebbifamaa dha.

13 "Ati garuu hamma dhumaatti karaa kee qabadhu. Ati ni boqotta; dhuma
barootaattis dhaala kee kan siif qoodame fudhachuuf ni kaata."

# Raajii Hoose’aa

1 Dubbiin WAAQAYYOO kan bara Uziyaan, Yootaam, Aahaaziitii fi Hisqiyaas mootota
Yihuudaa keessa, akkasumas bara Yerobi’aam ilma Yoo’aash mooticha Israa’el keessa
gara Hoose’aa ilma Bi’eer dhufe kanaa dha:

*Niitii fi Ijoollee Hoose’aa*

2 Yeroo WAAQAYYO karaa Hoose’aatiin dubbachuu jalqabetti WAAQAYYO akkana
isaan jedhe; “Sababii biyyattiin WAAQAYYO irraa gortee yakka sagaagalummaa guddaa
isaa hojjetteef ati dhaqiitii niitii sagaagaltuu fi ijoollee hin amanamne ofii keetiif
fudhadhu.” 3 Kanaafuu inni dhaqee Goomer intala Diblaayiim fuudhe; isheenis
ulfooftee ilma deesseef.
4 Kana irratti WAAQAYYO Hoose’aatiin akkana jedhe; “Ani sababii dhiiga Yizri’eel
keessatti dhangala’e sanaatiif dafee mana Yehuu waanan adabuuf Yizri’eel jedhii
isa moggaasi; ani mootummaa Israa’el nan balleessa. 5 Gaafas ani Sulula Yizri’eel
keessatti iddaa Israa’el nan cabsa.”
6 Goomer amma illee ulfooftee intala deesse. WAAQAYYO Hoose’aatiin akkana jedhe;
“Sababii ani isaaniif araaramuu fi si’achis mana Israa’eliif garaa hin laafneef Loo-
Ruhaamaa jedhii ishee moggaasi. 7 Ta’us ani mana Yihuudaatiif garaa nan laafa; ani
xiyyaan yookaan goraadeedhaan yookaan waraanaan yookaan fardeeniin yookaan
abbootii fardaatiin isaan hin oolchu; garuu ani WAAQAYYO Waaqni isaanii isaan nan
oolcha.”
8 Goomer erga Loo-Ruhaamaa harma guusiftee booddee ulfooftee ilma deesse.
9 Ergasiis WAAQAYYO akkana jedhe; “Isin waan saba koo hin ta’inii fi anis Waaqa
keessan hin ta’iniif Loo-Amii jedhii isa moggaasi.
10 “Ta’us Israa’el akkuma cirracha qarqara galaanaa kan madaalamuu yookaan
hedamuu hin danda’amnee ta’a. Isaan iddoodhuma itti, ‘Isin saba koo miti’ isaaniin
jedhame sanatti, ‘Ilmaan Waaqa jiraataa’ jedhamanii ni waamamu. 11 Guyyaan
Yizri’eel waan guddaa ta’uuf, sabni Yihuudaatii fi sabni Israa’el deebi’anii tokko ta’u;
isaan hoogganaa tokko muuddatanii biyya sana keessaa ni ba’u.

## 2

1 “Obboloota keessaniin, ‘Saba koo’ obboleettota keessaniin immoo, ‘Jaallatamtuu
koo’ jedhaa.

*Adabamuu fi Haaromfamuu Israa’el*

2 “Haadha keessanitti dheekkamaa; isheetti dheekkamaa;
isheen niitii koo mitiitii;
anis dhirsa ishee miti.
Isheen fuula ishee irraa ilaalcha ejjummaa haa balleessitu;
amanamummaa dhabuus harma ishee gidduudhaa haa balleessitu.
3 Yoo kanaa achii ani wayyaa ishee irraa baasee
akkuma guyyaa isheen dhalatte sanaa qullaa ishee nan hambisaa;
akkuma gammoojjii ishee nan godha;
lafa goggogaatti ishee nan geeddara;
dheebuudhaanis ishee nan ajjeesa.
4 Isaan ijoollee ejjummaa waan ta’aniif,
ani ijoollee isheetiif garaa hin laafu.

5 Haati isaanii amanamummaa dhabdee
karaa salphinaatiin isaan ulfoofte.
Isheen, ‘Ani warra na jaallatu,
warra nyaata koo fi bishaan koo,
warra suufii koo fi wayyaa quncee talbaa irraa hojjetame,
warra dibataa fi dhugaatii koo naaf kennan
duukaa nan bu’a’ jette.
6 Kanaafuu ani haafa qoraattiitiin daandii ishee nan cufa;
akka isheen karaa ittiin baatu hin arganneef dallaa itti nan ijaara.
7 Isheen michoota ishee duukaa buuti; garuu isaan hin qaqqabdu;
isaan barbaaddi; garuu hin argitu.
Ergasii isheen, ‘Ani akkuma duraa
gara dhirsa kootti nan deebi’a;
amma caalaa yeroo sana wayya tureetii’ jetti.
8 Isheen akka ani midhaan,
daadhii wayinii haaraa fi zayitii isheedhaaf kenne,
meetii fi warqee isaan Ba’aaliif dhi’eessanis
kan ishee irratti dhangalaase anuma akka ta’e hin beekne.

9 “Kanaafuu ani yeroo inni bilchaatutti midhaan koo,
daadhii wayinii koo haaraa illee yeroo inni qophaa’utti
irraa nan fudhadha.
Ani suufii koo fi wayyaa koo kan quncee talbaa irraa hojjetame
kanan qullaa ishee dhoksuudhaaf kenneefis
amma ishee irraa nan fudhadha.
10 Ani amma ijuma michoota ishee duratti
addaggummaa ishee nan saaxila;
namni tokko iyyuu harka koo keessaa ishee hin baasu.
11 Ani ayyaana ishee hunda jechuunis,
ayyaana ishee kan waggaa, ayyaana ishee kan gaafa baatii haaraa,
ayyaana ishee kan Sanbataatii fi
ayyaanota ishee kanneen murtaa’an hunda nan hambisa.
12 Ani muka wayinii isheetii fi muka harbuu ishee
kan isheen michoota kootu naaf kenne jettu sana nan barbadeessa.
Ani daggala isaan nan godha;
bineensi bosonaa isaan dheeda.
13 Ani guyyoota isheen itti
Ba’aaliif ixaana aarsite sanaaf ishee nan adaba;
isheen qubeelaa fi faaya garaa garaatiin
of miidhagsitee michoota ishee duukaa butee na irraanfatte”
jedha Waaqayyo.

14 “Kanaafuu ani amma ishee nan sossoba;
gara lafa gammoojjiitti ishee geessee
jaalalaan itti nan dubbadha.
15 Ani iddoo dhaabaa wayinii ishee deebisee nan kennaaf;
Sulula Aakooris balbala abdii nan godha.
Isheen achitti akkuma gaafa shamarrummaa isheetti,
akkuma gaafa biyya Gibxii baateetti sirbiti.

16 “Ati gaafa sana” jedha Waaqayyo;

“ ‘Dhirsa koo’ jettee na waamta;
ati lammata deebitee, ‘Gooftaa koo’ naan hin jettu.
17 Ani maqaawwan Ba’aal afaan isheetii nan balleessa;
maqaan isaanii lammata hin dha’amu.
18 Ani gaafas bineensa bosonaatii fi simbirroota samii wajjin,
uumamawwan lafa irra munyuuqan wajjin
isaaniif kakuu nan gala.
Ani akka isin nagaadhaan bultaniif
xiyya, goraadee fi waraana
lafa irraa nan balleessa.
19 Ani bara baraan ofii kootiif sin kaadhimadha;
ani qajeelummaa fi dhugaadhaan
jaalalaa fi gara laafinaan sin kaadhimadha.
20 Ani amanamummaadhaan sin kaadhimadha;
atis WAAQAYYOON ni beekta.”

21 WAAQAYYO akkana jedha;
“Ani gaafas deebii siif nan kenna;
ani samiif deebii nan kenna;
samiinis lafaaf deebii ni kenna;
22 laftis midhaaniif, daadhii wayinii haaraa fi
zayitiif deebii kenniti;
isaanis Yizri’eeliif deebii kennu.
23 Ani ofii kootiif lafa irra ishee nan dhaabbadha;
ani kanan, ‘Ati jaalallee koo miti’ jedheen sana nan jaalladha.
Ani warra, ‘Isin saba koo miti’ jedhaman sanaan, ‘Isin saba koo ti’ nan jedha;
isaanis, ‘Ati Waaqa koo ti’ naan jedhu.”

## 3

*Hoose’aan Niitii Ofiitti Araarame*

1 WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Namni biraa ishee jaallatee isheen sagaagaltuu
taatu iyyuu, ati dhaqiitii ammas niitii keetti jaalala kee argisiisi. Akkuma WAAQAYYOO
utuma isaan waaqota biraatti deebi’anii bixxillee wayinii jaallatanuu Israa’eloota
jaallate sana atis ishee jaalladhu.”
2 Kanaafuu ani meetii saqilii kudha shaniin, garbuu hoomeerii tokkoo fi
walakkaatiin ishee nan bitadhe. 3 Ani ergasii akkana nan jedheen; “Ati bara hedduu
na wajjin jiraachuu qabda; ati sagaagaltuu ta’uu yookaan nama kam iyyuu wajjin
tokko ta’uu hin qabdu; ani si wajjin nan jiraadha.”
4 Israa’eloonni mootii yookaan ilma mootii malee, aarsaa yookaan utubaa waaq-
effannaa malee dirata yookaan waaqota tolfamoo malee bara baay’ee ni jiraatuutii.
5 Ergasii immoo Israa’eloonni deebi’anii WAAQAYYO Waaqa isaaniitii fi Daawit mootii
isaanii barbaadu. Isaan bara dhumaa keessa hollachaa gara WAAQAYYOOTII fi gara
eebba isaa ni dhufu.

## 4

*Himatamuu Israa’el*

1 Yaa Israa’eloota, WAAQAYYO isin warra biyyattii keessa jiraattan irratti
himata dhi’eeffatu waan qabuuf
dubbii WAAQAYYOO dhaga’aa:
“Biyyattii keessa amanamummaan,
jaalallii fi Waaqa beekuun hin jiru.

2 Abaaruu, sobuu fi ajjeesuu,
hannaa fi ejja qofatu jira;
isaan kakuu hunda ni cabsu;
dhiiga dhangalaasuutu baay’ata.
3 Sababii kanaaf biyyattiin ni gadditi;
warri ishee keessa jiraatan hundis ni badu;
bineensonni bosonaa, simbirroonni samiitii fi
qurxummiin galaanaa dhumaa jiru.

4 “Garuu namni tokko iyyuu dubbii hin kaasin;
namni tokko iyyuu nama kaan hin himatin;
sabni keessan
akkuma nama luba himatu tokkoo ti.
5 Ati halkanii fi guyyaa gufatta;
raajonnis isin wajjin gufatu.
Kanaafuu ani haadha kee nan balleessa;
6 sabni koo beekumsa dhabuudhaan badeera.

“Waan ati beekumsa tuffatteef
anis akka ati luba naaf hin taaneef si tuffadheera;
sababii ati seera Waaqa keetii gatteef
anis ilmaan kee nan gata.
7 Luboonni akkuma baay’achaa deemaniin,
akkasuma cubbuu natti hojjechuu baay’isan;
isaan ulfina isaanii salphinatti geeddaraniiru.
8 Isaan cubbuu saba kootii nyaatu;
hammina isaaniis ni hawwu.
9 Wanni kunis akkuma sabaa, akkuma lubootaa ta’a.
Anis sababii karaa isaaniitiif
lachan isaanii iyyuu nan adaba;
hojii isaaniis isaanumatti nan deebisa.

10 “Isaan ni nyaatu; garuu hin quufan;
ni sagaagalu; garuu hin baay’atan;
kunis sababii isaan Waaqayyoon dhiisanii
dabarsanii 11 sagaagaltummaatti,
daadhii wayinii moofaa fi
haaraa hubannaa isaanii fudhatetti of kennaniif.
12 Sabni koo waaqa muka irraa tolfame gorsa gaafata;
uleen falfaltuus isaanitti dubbata.
Hafuurri sagaagaltummaa karaa irraa isaan jal’isa;
isaan Waaqa isaaniitiif hin amanaman.
13 Isaan fiixeewwan tulluu irratti qalma,
aarsaa gubamu immoo gaarran irratti,
qilxuu jalatti, alaltuu fi hoomii
gaaddisni isaanii namatti tolu jalatti dhi’eessu.
Kanaafuu intallan keessan sagaagaltummaatti deebi’u;
niitonni ilmaan keessaniis ejjatti deebi’u.

14 “Sababii warri dhiiraa iyyuu sagaagaltummaatti deebi’anii
galma waaqeffannaa ejjaatti qalma dhi’eessaniif,
yommuu intallan keessan

sagaagaltummaatti deebi’anitti
yookaan yommuu niitonni ilmaan keessanii
ejjatti deebi’anitti ani isaan hin adabu;
sabni hubannaa hin qabne ni badaatii!

15 “Yaa Israa’el, ati yoo ejja hojjette illee
akka Yihuudaan yakka qabaatu hin godhin.

“Isin Gilgaal hin dhaqinaa;
Beet Aawwenittis ol hin ba’inaa.
‘Dhugaa WAAQAYYO jiraataa!’ jettaniis hin kakatinaa.
16 Israa’eloonni akkuma goromsa
mataa jabaate tokkoo mataa jabeeyyii ta’aniiru.
Yoos WAAQAYYO akkamiin akka xobbaallaawwan hoolaatti
kaloo bal’aatti isaan bobbaasuu danda’a ree?
17 Efreem waaqota tolfamootti galeera;
isa ittuma dhiisaa!
18 Dhugaatiin isaanii yoo dhume iyyuu
isaan sagaagaltummaa isaanii ittuma fufu;
bulchitoonni isaanii ulfina irra qaanii jaallatu.
19 Bubbeen hamaan haxaa’ee isaan balleessa;
aarsaan isaaniis qaanii isaanitti fida.

# 5

*Murtii Israa’elitti Murteeffame*

1 “Isin luboonni waan kana dhaga’aa!
Israa’eloonnis qalbeeffadhaa!
Yaa mana mootii dhaggeeffadhu!
Murtiin kun isinitti murama:
Isin Miisphaatti kiyyoo,
Taaboor irratti immoo xaxoo diriirsaa turtan.
2 Finciltoonni ajjeechaatti jabaataniiru.
Ani isaan hunda nan adaba.
3 Ani waa’ee Efreem hunda beeka;
Israa’elis na duraa hin dhokattu.
Yaa Efreem, ati amma sagaagaltummaatti deebiteerta;
Israa’elis xuraa’eera.

4 “Hojiin isaanii akka isaan gara Waaqa isaaniitti
deebi’an hin eeyyamuuf.
Hafuurri sagaagaltummaa garaa isaanii keessa jira;
isaan WAAQAYYOON hin beekan.
5 Of tuulummaan Israa’el dhugaa isaanitti ba’a;
Israa’eloonni, Efreem mataan isaa iyyuu
cubbuu isaanii keessatti gufatu;
Yihuudaanis isaan wajjin gufata.
6 Isaan yommuu WAAQAYYOON barbaaduudhaaf
bushaayee fi loon isaanii fudhatanii deemanitti,
isa hin argatan;
inni isaan dhiisee deemeeraatii.
7 Isaan WAAQAYYOOF amanamoo miti;
seeraan ala ijoollee godhatu.

Yeroo isaan Ayyaana Baatii Haaraa ayyaaneffatanitti
inni lafa qotiisaa isaanii ni balleessa.

8 "Gibe'aa keessatti malakata,
Raamaa keessatti immoo gaanfa afuufaa.
Beet Aawwen keessatti iyya lolaa dhageessisaa;
yaa Beniyaam, ati dura qajeeli.
9 Guyyaa ifannaatti
Efreem ni ona.
Ani gosoota Israa'el gidduutti
waan mirkanaa'e nan labsa.
10 Bulchitoonni Yihuudaa
akkuma nama dhagaa daarii dhiibu tokkoo ti.
Ani akkuma lolaa bishaanii
dheekkamsa koo isaanitti gad nan lolaasa.
11 Efreem sababii waaqota tolfamoo
duukaa bu'uu jaallateef akka malee hacuucamee
murtiidhaan lafatti dhidhiitame.
12 Ani Efreemitti akka bilii,
Yihuudaatti immoo akka daana'oo ti.

13 "Yommuu Efreem dhukkuba isaa,
Yihuudaanis madaa isaa argetti,
Efreem gara Asooritti garagalee
mooticha guddaa gargaarsa kadhachuudhaaf
nama itti erge.
Inni garuu isin fayyisuu,
madaa keessanis wayyeessuu hin danda'u.
14 Ani Efreemitti akkuma leencaa,
Yihuudaattis akkuma saafela leencaa nan ta'a.
Ani gargar isaan ciccireen biraa deema;
ani isaan guureen deema; namni isaan oolchus hin jiru.
15 Ergasii ani hamma isaan
balleessaa isaanii fudhatanitti
iddoo kootti nan deebi'a.
Isaan fuula koo barbaaddatu;
rakkoo isaanii keessatti jabaatanii na barbaaddatu."

# 6

*Israa'el Qalbii Jijjiirrachuu Didde*

1 "Kottaa gara WAAQAYYOOTTI deebinaa.
Inni nu ciccireera;
garuu nu fayyisa;
inni nu madeesseera;
garuu madaa keenya ni waldhaana.
2 Akka nu fuula isaa dura jiraannuuf,
guyyaa lama booddee nu bayyanachiisa;
guyyaa sadaffaatti immoo deebisee nu dhaaba.
3 Kottaa WAAQAYYOON haa beeknu;
isa beekuufis haa tattaaffannu.
Akkuma aduun dhugumaan baatu sana
inni dhugumaan ni dhufa;

inni akkuma bokkaa gannaa,
akkuma bokkaa birraa kan lafa quubsu sanaatti
gara keenya ni dhufa.

4 “Yaa Efreem, ani maalan si godha?
Yaa Yihuudaa, ani maalan si godha?
Jaalalli keessan akkuma hurrii ganamaa,
akkuma fixeensa barii baduu ti.
5 Kanaafuu ani raajota kootiin isin cicciree
dubbii afaan kootiin isin fixe;
murtiin koos akkuma aduu ni ba’a.
6 Ani araaran fedha malee aarsaa hin fedhuutii;
aarsaa gubamu caalaa Waaqa beekuu nan fedha.
7 Isaan akkuma Addaam kakuu cabsaniiru;
achittis anaaf hin amanamne.
8 Gili’aad magaalaa hamootaa
kan dhiigaan faalamtee dha.
9 Akkuma saamtuun riphxee nama eeggattu sana,
gareen lubootaas akkasuma godhu;
isaan yakka qaanessaa hojjechuudhaan
karaa Sheekem irratti nama ajjeesu.
10 Ani mana Israa’el keessatti
waan suukaneessaa tokko argeera.
Achitti Efreem ni sagaagale;
Israa’elis ni xuraa’e.

11 “Yaa Yihuudaa sittis
haamamuun murteeffameera.

“Yeroo ani boojuu saba koo deebisutti,

# 7

1 yeroo ani Israa’elin fayyisutti
cubbuun Efreem saaxilamee
yakki Samaariyaas ifatti baafama.
Isaan nama gowwoomsu;
hattuun cabsitee mana seenti;
saamtonni daandii irratti nama saamu;
2 isaan garuu akka ani jal’ina isaanii hunda
yaadadhu hin hubatan.
Cubbuun isaanii isaan marseera;
yeroo hundas fuula koo dura jira.

3 “Isaan hammina isaaniitiin mootii,
soba isaaniitiin immoo ilmaan mootii gammachiisu.
4 Isaan hundinuu ejjitoota,
akkuma badaa ibiddaa
kan tolchituun tokko yeroo bukoo sukkuumanii jalqabee
hamma inni bukaa’utti itti tuttuquu hin barbaannee ti.
5 Guyyaa ayyaana mootii keenyaatti
ilmaan mootota daadhii wayiniitiin finiinan;
innis qoostota wajjin harka isaa diriirsa.
6 Akkuma badaa ibiddaatti garaa isaanii qopheessaniiru;

isaan dabaan gara isaatti dhi'aatu.
Aariin isaanii halkan guutuu irraa hin galu;
ganama immoo akkuma arraba ibiddaa balali'a.
7 Hundi isaanii akkuma badaa ibiddaa ho'u;
bulchitoota isaaniis ni fixu.
Mootonni isaanii hundinuu ni dhumu;
tokkoon isaanii iyyuu na hin waammatan.

8 "Efreem sabootaan walitti makama;
Efreem maxinoo gara hin galfaminii dha.
9 Namoonni ormaa humna isaa nyaatan;
inni garuu hin hubatu.
Arriin isatti ba'e;
inni garuu hin beeku.
10 Of tuulummaan Israa'el dhugaa isatti ba'a;
inni garuu utuu wanni kun hundi akkana ta'ee jiruu,
gara WAAQAYYO Waaqa isaatti hin deebi'u
yookaan isa hin barbaaddatu.

11 "Efreem akkuma gugee
gowwaa sammuu hin qabnee ti;
isaan Gibxin waammatu;
isaan gara Asooritti deebi'u.
12 Yommuu isaan deeman ani kiyyoo koo isaan irra nan buusa;
ani akkuma simbirroo samii gad isaan nan harkisa.
Ani yommuun akka isaan walii wajjin yaa'an dhaga'utti,
isaan nan qaba.
13 Waan narraa goraniif
isaaniif wayyoo!
Waan natti fincilaniif
badiisni isaaniif mala!
Ani isaan furuu nan barbaada;
isaan garuu waa'ee koo soba dubbatu.
14 Isaan garaa isaanii guutuudhaan gara kootti hin iyyatan;
garuu siree isaanii irra tataa'anii boo'u.
Isaan midhaanii fi daadhii wayiniitiif walitti qabamu;
garuu natti fincilu.
15 Ani leenjiseen irree isaanii jajjabeesse;
isaan garuu waan hamaa natti yaadu.
16 Isaan gara Waaqa Waan Hundaa Oliitti hin deebi'an;
isaan akkuma xiyya jal'atee ti.
Hooggantoonni isaanii sababii soba dubbataniif
goraadeedhaan dhumu.
Sababii kanaaf isaan biyya Gibxitti
ni tuffatamu.

# 8

*Israa'el Bubbee Hamaa Haammata*
1 "Malakata afaan keetti kaa'adhu!
Sababii namoonni kakuu koo cabsanii
seera kootti fincilaniif
risaan tokko mana WAAQAYYOOTIIN ol jira.

2 Israa’el, ‘Yaa Waaqa keenya nu si beekna!’ jedhee
gara kootti iyyate.
3 Ta’u iyyuu Israa’el waan gaarii dideera;
kanaafuu diinni isa ari’a.
4 Isaan walii galtee koo malee mootota moosifatan;
utuu ani hin fudhatiniif ilmaan moototaa filatan.
Isaan meetii fi warqee isaaniitiin
badiisa isaaniitiif
waaqota tolfamoo ofii isaaniitiif tolfatan.
5 Yaa Samaariyaa, waaqa kee tolfamaa bifa jabbii sana baasii gati!
Dheekkamsi koo isaanitti boba’a.
Isaan hamma yoomiitti qulqullaa’uu dadhabu?
6 Isaan warra Israa’el!
Jabbii kana ogeessa hojii harkaatu tolche;
inni Waaqa miti.
Jabbiin Samaariyaa ni hurraa’a.

7 “Isaan bubbee facaafatanii
bubbee hamaa haammatu.
Mukni isaa mataa hin qabu;
daraaraas hin baasu.
Utuu inni midhaan naqatee
silaa namoonni ormaa ni nyaatu ture.
8 Israa’el liqimfameera;
isaan amma saboota gidduutti
akka waan faayidaa hin qabne tokkoo ti.
9 Isaan akkuma harree diidaa kan asii fi
achi kophaa jooruu gara Asooriitti ol ba’aniiruutii;
Efreemis michootatti of gurgureera.
10 Isaan saboota gidduutti yoo of gurguran iyyuu
ani amma walitti isaan nan qaba.
Isaan hacuuccaa mooticha jabaa jalatti
ni sukkuumamu.

11 “Efreem aarsaa cubbuutiif
iddoo aarsaa hedduu yoo hojjete iyyuu,
lafti sun iddoo aarsaa itti cubbuu hojjechuuf
qopheessan ta’eera.
12 Ani waa’ee seera koo waan baay’ee isaaniif barreesseera;
isaan garuu akkuma waan alaa dhufe tokkootti ilaalu.
13 Isaan aarsaa naaf kenname dhi’eessu;
foon sanas ni nyaatu;
Waaqayyo garuu isaanitti hin gammanne.
Inni amma hammina isaanii yaadatee
cubbuu isaanii adaba:
Isaan gara Gibxitti deebi’u.
14 Israa’el Uumaa isaa irraanfatee
masaraawwan mootummaa ijaare;
Yihuudaan magaalaawwan hedduutti dallaa ijaare.
Ani garuu ibidda da’annoowwan isaanii
barbadeessu magaalaawwan isaaniitti nan erga.”

# 9

*Adabbii Israa'elitti Dhufu*

1 Yaa Israa'el hin ililchin;
akka saboota kaanii hin gammadin.
Ati Waaqa keetiif amanamaa hin turreetii;
ati oobdii hunda irratti gatii
sagaagaltummaadhaaf baafamu jaallatteerta.
2 Oobdiiwwanii fi iddoon cuunfaa wayinii saba hin sooran;
daadhiin wayinii haaraan isaaniif hin tolu.
3 Isaan biyya Waaqayyoo keessatti hin hafan;
Efreem gara Gibxitti deebi'ee
Asoor keessatti nyaata xuraa'e nyaata.
4 Isaan dhibaayyuu daadhii wayinii Waaqayyoof hin dhibaafatan;
yookaan aarsaan isaanii isa hin gammachiisu.
Aarsaan akkasii akkuma buddeena warra gaddaa isaanitti ta'a;
namni buddeena kana nyaatu hundinuu ni xuraa'a.
Nyaanni kun kanuma mataa isaanii ta'a;
mana qulqullummaa Waaqayyoos ol hin seenu.

5 Isin guyyaa ayyaana keessan murteeffameetti,
guyyoota ayyaana Waaqayyoo sanatti maal hojjetu?
6 Yoo isaan badiisa jalaa ba'an iyyuu
Gibxi walitti isaan qabdi;
Memfiis immoo isaan awwaala.
Qabeenyi meetii isaanii sokorruudhaan liqimfama;
dunkaana isaanii immoo qoraattiitu haguuga.
7 Guyyoonni adabbii dhufaa jiru;
guyyoonni itti gatii baasan dhi'aataniiru.
Israa'el waan kana haa beeku.
Sababii cubbuun kee akka malee baay'atee
hamminni kees akka malee guddaa ta'eef,
raajiin akka raatuutti ilaalame;
namni Hafuura Waaqaatiin qajeelfamu immoo
akka maraatuutti hedame.
8 Raajichi Waaqa koo wajjin
eegduu Efreem ta'e;
ta'us daandii isaa hunda irratti kiyyoon isa eeggata;
mana Waaqa isaa keessattis jibbi isa eeggata.
9 Isaan akkuma bara Gibe'aa keessatti ta'e sana
xuraa'ummaa keessa dhidhiman.
Waaqni hammina isaanii yaadatee
sababii cubbuu isaaniitiif isaan adaba.

10 "Yeroo ani Israa'elin argetti,
inni akkuma ija wayinii gammoojjii keessatti argamee ture;
yeroo ani abbootii keessan argetti,
isaan akkuma waan ija jalqabaa harbuu irratti argamee turan.
Isaan garuu yommuu gara Ba'aal Phe'oor dhufanitti,
waaqa tolfamaa qaanessaa sanaaf of qulqulleessanii
akkuma waan jaallatan sanaa jibbisiisoo ta'an.
11 Ulfinni Efreem akkuma simbirroo barrisee bada;

dhalchuun, garaatti baachuun, ulfaa'uun hin jiru.
12 Yoo isaan ijoollee guddifatan iyyuu
ani jalaa fixee ilmaan malee isaan nan hambisa.
Gaafa ani isaan irraa garagalu
isaaniif wayyoo!
13 Ani Efreemin isaa akkuma Xiiroos
lafa namatti tolu irra dhaabatee jiru nan arge.
Sabni Efreem garuu ijoollee isaa gad baasee
warra gogorra'utti kenna."

14 Yaa WAAQAYYO isaaniif kenni;
ati maal isaaniif kennita?
Gadameessa ulfa hin baannee fi
harma goggogaa kenniif.

15 "Sababii hammina isaanii kan Gilgaal keessatti hojjetame sana hundaatiif,
ani achitti isaan nan jibbe.
Sababii hojii isaanii kan cubbuudhaan guutamee sanaatiif
ani mana koo keessaa isaan ari'a.
Ani si'achi isaan hin jaalladhu;
bulchitoonni isaanii hundinuu finciltoota.
16 Efreem rukutameera;
hiddi isaanii goggogeera;
isaan ija tokko illee hin godhatan.
Yoo isaan ijoollee godhatan iyyuu
ani sanyii isaanii jaallatamoo isaan jalaa nan qala."

17 Sababii isaan isaaf hin ajajaminiif,
Waaqni koo isaan dida;
isaan warra asii fi achi saboota gidduu jooru ta'u.

# 10

1 Israa'el muka wayinii dagaage ture;
inni matuma isaatiif ija naqata.
Akkuma iji isaa baay'ateen
inni iddoo aarsaa hedduu ijaarrate;
akkuma lafti isaa gabbatteen
utubaawwan waaqeffannaa isaa miidhagfate.
2 Garaan isaanii gowwoomsaadhaan guutameera;
isaan amma yakka isaanii baadhachuu qabu.
WAAQAYYO iddoo aarsaa isaanii ni diiga;
utubaawwan waaqeffannaa isaaniis ni barbadeessa.

3 Ergasii isaan akkana jedhu;
"Nu sababii WAAQAYYOON sodaachuu didneef mootii hin qabnu.
Garuu utuu mootii qabaanne iyyuu
inni silaa maal nuuf godha?"
4 Isaan waan hedduu waadaa galu;
kakuu sobaas seenanii
walii galtee uummatu;
kanaafuu seera dhabeeyyiin

akkuma aramaa summii qabu kan lafa qotiisaa keessaatti latu.
5 Namoonni Samaariyaa keessa jiraatan
sababii waaqa tolfamaa fakkii jabbii
kan Beet Aawwen keessaa sanaatiif sodaatu.
Sabni ishee isheedhaaf boo’a.
Luboonni ishee ejjitoonni
warri ulfina isheetiin gammadan sunis
sababii isheen isaan irraa booji’amteef ni boo’u.
6 Jabbichis akka harka fuudhaatti
Yaariim mootichaaf Asooritti geeffama.
Efreem ni salphifama;
Israa’el waaqota ishee kanneen muka irraa tolfamaniif ni qaanofti.
7 Samaariyaa fi mootiin ishee
akkuma hoomacha bishaan irraatti fudhatamanii badu.
8 Iddoowwan sagadaa kanneen Awween ni barbadeeffamu;
kunis cubbuu Israa’el.
Qoraattii fi sokorruun irratti biqilee
iddoo aarsaa isaanii haguuga.
Yeroo sana namoonni tulluuwwaniin, “Nurratti jigaa!”
gaarraniin immoo, “Nu dhoksaa!” jedhu.

9 “Yaa Israa’el isin bara Gibe’aatii jalqabdanii
cubbuu hojjettaniirtu;
ammas achumatti haftaniirtu.
Gibe’aa keessatti waraanni ka’ee
jal’oota hin fixuu?
10 Ani yoon fedhe isaan nan adaba;
sababii cubbuu isaanii dachaa sanaatiif
hidhaa keessa isaan buusuuf
saboonni naannoo isaaniitti walitti qabamu.
11 Efreem goromsa leenjifame
kan midhaan siribsiisuu jaallatuu dha;
kanaafuu ani morma ishee irra
waanjoo nan kaa’a.
Ani Efreemin nan oofa;
Yihuudaan lafa qotiisaa qotuu qaba;
Yaaqoobis biyyoo bulleessuu qaba.
12 Ofii keessaniif qajeelummaa facaafadhaatii
ija jaalalaa kan hin dhumne haammadhaa;
lafa keessan kan hin qotamin illee baqaqsaa;
yeroon kun yeroo hamma inni dhufee
qajeelummaa isinitti roobsutti
Waaqayyoon barbaaddataniitii.
13 Isin garuu hammina facaafattanii
jal’ina haammattan;
isin ija sobaa nyaattaniirtu.
Sababii ati jabina keetii fi
loltoota kee baay’ee sana abdatteef,
14 akkuma Shalmaan gaafa lolaatti Beet Arbeelin balleessee
haadhota ijoollee isaanii wajjin biyyootti makaman sana,
da’annoowwan kee hundi ni barbadaa’u;
huursaan waraanaas saba keetti ni ka’a.

15 Yaa Beet'eel, sababii hamminni kee akka malee guddaa ta'eef,
wanni akkasii sittis ni dhufti.
Gaafa guyyaan sun bari'utti
mootiin Israa'el guutumaan guutuutti ni barbadeeffama.

# 11

*Jaalala Waaqni Israa'eliif Qabu*

1 "Israa'el yeroo daa'ima turetti, ani isa nan jaalladhe;
ani Gibxii ilma koo waameera.
2 Garuu hammuma ani itti deddeebi'ee isaan waamu,
isaan narraa fagaachaa deeman.
Isaan Ba'aaliif aarsaa dhi'eessanii
fakkiiwwaniif ixaana aarsan.
3 Kan irree isaanii qabee Efreemin
miillaan deemuu barsiise anuma;
isaan garuu akka ani
isaan fayyise hin hubanne.
4 Ani funyoo gara laafina namaatiin,
hidhaa jaalalaatiinis isaan nan harkise;
ani morma isaanii irraa waanjoo fuudhee
isaan sooruuf gadan jedhe.

5 "Isaan qalbii jijjiirrachuu waan didaniif
Gibxitti hin deebi'an;
Asoor garuu isaan bulcha.
6 Goraadeen magaalaawwan isaanii keessatti balaqqisa;
raajota sobduu isaanii ni barbadeessa;
karoora isaaniis ni fashaleessa.
7 Sabni koo narraa deebi'uuf kutateera.
Yoo isaan Waaqa Waan Hundaa Olii waammatan iyyuu
inni gonkumaa ol isaan hin qabu.

8 "Yaa Efreem ani akkamiinan danda'ee si dhiisa?
Yaa Israa'el ani akkamiinan dabarsee si kenna?
Ani akkamiinan danda'ee akka Adimaa si godha?
Akkamiinan akka Zeboo'iim si godha?
Garaan koo na keessatti geeddarameera;
gara laafinni ani siif qabu guddateera.
9 Ani dheekkamsa koo sodaachisaa sana gad hin dhiisu;
yookaan ani deebi'ee Efreemin hin balleessu.
Ani Waaqa malee nama miti;
ani Isa Qulqulluu gidduu kee jiruu dha.
Ani dheekkamsaan hin dhufu.
10 Isaan WAAQAYYOON duukaa bu'u;
inni akkuma leencaa aada;
yommuu inni aadutti
ilmaan isaa hollachaa lixa biiftuutii dhufu.
11 Isaan akkuma simbirroo Gibxi irraa,
akkuma gugee ollachaa
Asoor irraa dhufu.
Ani mana isaanii keessa isaan nan jiraachisa"
jedha WAAQAYYO.

### *Cubbuu Israa'el*

12 Efreem sobaan, manni Israa'el immoo
gowwoomsaadhaan na marse.
Yihuudaanis Waaqatti,
amanamaa Qulqullicha Sanatti iyyuu fincile.

## 12

1 Efreem bubbee nyaata;
inni guyyaa guutuu bubbee ba'a biiftuu duukaa fiiga;
sobaa fi gooliis ni baay'isa.
Inni Asoor wajjin walii galtee godhatee
biyya Gibxiitti zayitii ejersaa erga.
2 WAAQAYYO waan Yihuudaa himatu qaba;
inni akkuma amala isaatti Yaaqoobin adaba;
akkuma hojii isaattis gatii isaa kennaaf.
3 Inni gadameessa keessatti koomee obboleessa isaa qabe;
erga guddatee immoo Waaqa wajjin wal'aansoo qabe.
4 Inni ergamaa Waaqaa wajjin wal'aansoo qabee mo'ate;
boo'ees surraa kadhate.
Inni Beet'eelitti isa argatee
achitti isa wajjin haasa'e.
5 WAAQAYYO Waaqa Waan Hunda Danda'u,
maqaan isaa WAAQAYYO!
6 Ati garuu Waaqa keetti deebi'i;
jaalalaa fi murtii qajeelaa jabeessii
yeroo hunda Waaqa kee eeggadhu.

7 Daldalaan madaalii sobaa ofi harkaa qabu
nama gowwoomsuu jaallata.
8 Efreem akkana jedhee boona;
"Ani akka malee sooressa; qabeenya guddaa argadheera.
Isaan qabeenya koo kana hunda keessatti iyyuu
balleessaa yookaan cubbuu tokko illee
narratti argachuu hin danda'an."

9 "Ani WAAQAYYO Waaqa kee
kan biyya Gibxii si baasee dha;
ani akka ati akkuma guyyaa ayyaanota kee
kanneen murteeffaman sanaatti
deebitee dunkaana keessa jiraattu sin godha.
10 Ani raajotatti dubbadhee
mul'ata hedduu kenneefii
karaa isaaniitiin fakkeenyaan nan dubbadhe."

11 Gili'aad hamaadhaa?
Sabni ishee faayidaa hin qabu!
Isaan Gilgaal keessatti korma qaluu?
Iddoon aarsaa isaanii akkuma tuullaa dhagaa isa lafa qotiisaa
kan qotame irra jiruu ni ta'a.
12 Yaaqoob gara Sooriyaatti baqate;
Israa'el niitii argachuuf nama tajaajile;

gabbara ishee baasuufis hoolota tikse.
13 WAAQAYYO biyya Gibxiitii Israa’elin baasuuf
raajiitti fayyadame;
inni karuma raajii sanaatiin isa kunuunse.
14 Efreem garuu aarii isaa guddicha kakaase;
Gooftaan isaa yakka dhiiga namaa dhangalaasuu sana
isumatti deebisa;
arrabsoo isaas matuma isaatti deebisa.

# 13

### *WAAQAYYO Israa’elitti Dheekkame*

1 Yeroo Efreem dubbatetti namoonni ni hollatan;
inni Israa’el keessatti ol ol jedhee ture.
Garuu yakka Ba’aalin waaqeffachuutiin du’e.
2 Isaan ammas itti deddeebi’anii cubbuu hojjetu;
meetii ofii isaaniitiin waaqa tolfamaa tolfatu;
fakkii mimmiidhagaa kanneen hundi isaanii
harka ogeeyyiitiin hojjetaman.
Waa’ee saba kanaas,
“Isaan nama qalanii aarsaa dhi’eessu;
waaqa tolfamaa jabbiis ni dhungatu!” jedhame.
3 Kanaafuu isaan akkuma hurrii ganamaa,
akkuma fixeensa barii baduu, akkuma habaqii
oobdii midhaan itti dha’an irraa ka’uu
akkuma aara foddaadhaan ba’uu ni ta’u.

4 “Ani garuu yeroo ati Gibxii baatee jalqabee
WAAQAYYO Waaqa kee ti.
Ati ana malee Waaqa tokko illee beekuu hin qabdu;
ana malee fayyisaa tokko illee hin qabdu.
5 Ani gammoojjii keessatti,
biyya ho’a gubaa keessatti si kunuunseera.
6 Yeroo ani isaan sooretti ni quufan;
isaan yeroo quufanitti of tuulan;
ergasii immoo na irraanfatan.
7 Kanaafuu ani akkuma leencaa isaanitti nan ta’a;
akkuma qeerransaa riphee daandii irratti isaan nan eeggadha.
8 Ani akkuma amaaketa ilmaan ishee jalaa fudhatamaniitti
isaan lolee garaa isaanii nan baqaqsa.
Ani akkuma leencaatti qorqee isaan nan nyaadha;
bineensi bosonaa gargar isaan ciccira.

9 “Yaa Israa’el, waan ana gargaaraa kee
mormiteef ati baddeerta.
10 Akka si oolchuuf mootiin kee eessa jira?
Bulchitoonni kee warri magaalaa kee hunda keessaa
kanneen ati, ‘Mootii fi ilmaan moototaa naaf kenni’
jettee kadhatte sun eessa jiru?
11 Ani aarii kootiin mootii siifan kenne;
dheekkamsa kootiin immoo isa sirraa nan fudhadhe.
12 Balleessaan Efreem walitti kuufamee

cubbuun isaas galmeeffameera.
13 Miixuun akkuma dubartii ciniinsuun qabatteetti isatti dhufa;
inni garuu daa'ima wallaalaa dha;
inni yommuu yeroon ga'utti,
gadameessa keessaa ba'uu hin fedhu.

14 "Ani saba kana humna awwaalaa jalaa nan baraara;
du'a jalaa isaan nan baasa.
Yaa du'a, dha'ichi kee meerre?
Yaa awwaala, balleessuun kee meerre?

"Ani gara laafina tokko illee hin qabaadhu;
15 Yoo inni obboloota ofii gidduu jireenya tolaa jiraate iyyuu,
bubbeen ba'aa WAAQAYYO biraa ni dhufa;
lafa gammoojjii keessaa ni bubbisa;
burqaan isaa bishaan dhaba;
boolli bishaan isaas ni goga.
Mankuusni isaa,
qabeenyi inni qabu hundis ni saamama.
16 Sabni Samaariyaa waan Waaqa isaatti fincileef
gatii balleessaa isaa ni argata.
Isaan goraadeedhaan dhumu;
daa'imman isaanii lafatti harcaafamu;
dubartoonni isaanii kanneen
ulfa qabanis ni baqaqfamu."

# 14

*Eebba Argachuudhaaf Qalbii Jijjiirrachuu*

1 Yaa Israa'el, gara WAAQAYYO Waaqa keetiitti deebi'i.
Ati sababii cubbuu keetiitiif gufatteetii!
2 Dubbicha fudhadhuutii
gara WAAQAYYOO deebi'i.
Akkanas jedhiin:
"Cubbuu keenya hunda nuuf dhiisi;
akka nu ija arraba keenyaa siif dhi'eessinuuf,
arjummaadhaan nu simadhu.
3 Asoor nu oolchuu hin danda'u;
nu fardeen lolaa hin yaabbannu.
Nu si'achi deebinee, waan harki keenya hojjeteen,
'Waaqota keenya' hin jennu;
daa'imman abbaa hin qabne gara laafina sirraa argatuutii."

4 "Ani gantummaa isaanii nan fayyisa,
toluman isaan jaalladha;
aariin koo isaan irraa deebi'eeraatii.
5 Ani Israa'elitti akkuma fixeensaa nan ta'a;
inni akkuma daraaraa ni daraara.
Inni akkuma gaattiraa Libaanoon
hidda isaa gad fageeffata;
6 dameen isaa ni guddata.
Miidhaginni isaa akkuma muka ejersaa ta'a;

urgaan isaa akkuma gaattiraa Libaanoon.
7 Namoonni ammas deebi'anii gaaddisa isaa jala jiraatu.
Inni akkuma midhaanii lalisa.
Akkuma muka wayinii dagaaga;
maqaan isaas akkuma daadhii wayinii Libaanoon beekama.
8 Yaa Efreem, ani kana caalaa
waaqota tolfamoo wajjin dhimma maaliin qaba?
Kan deebii siif kennee si eegu anuma.
Ani akkuma muka birbirsa lalisaa ti;
amanamummaan kee ana irraa dhufa."

9 Namni ogeessi eenyu? Inni waan kana ni beeka.
Qalbii qabeessi eenyu? Inni waan kana ni hubata.
Karaan WAAQAYYOO qajeelaa dha;
namni qajeelaan isa irra deema;
finciltoonni garuu isa irratti gufatu.

# Raajii
# Yoo’eel

1 Dubbii Waaqayyoo kan gara Yoo’eel ilma Phetuu’eel dhufe.

*Weerara Hawwaannisaa*

2 Yaa maanguddoota, waan kana dhaga’aa;
warri biyyattii keessa jiraattan hundinuu dhaggeeffadhaa.
Wanni akkanaa takkumaa bara keessan keessa
yookaan bara abbootii keessanii keessa ta’ee beekaa?
3 Isin waan kana ijoollee keessanitti himaa;
ijoolleen keessanis ijoollee ofii isaaniitti haa himan;
ijoolleen isaanii immoo dhaloota itti aanutti haa dabarsan.
4 Waan tuunni hawwaannisaa dhiise,
hawwaannisni guddaan fixe;
waan hawwaannisni guddaan dhiise,
hawwaannisni xixinnaan nyaatee fixe;
waan hawwaannisni xixinnaan dhiise immoo
hawwaannisni biraa dhufee nyaate.

5 Yaa machooftota, ka’aatii boo’aa!
Isin warri daadhii wayinii dhugdan
hundinuu wawwaadhaa;
sababii daadhii wayinii haaraatiif
wawwaadhaa;
inni afaan keessan irraa butameeraatii.
6 Sabni jabaan akka malee baay’een tokko
biyya koo weerareera;
inni ilkaan leencaa,
qarriffaa leenca dhalaa qaba.
7 Inni muka wayinii koo onsee
harbuu koos barbadeesseera.
Inni qola isaanii irraa quncisee lafatti gatee
dameelee isaanii duwwaa hambise.

8 Isin akkuma durba wayyaa gaddaa uffattee
dhirsa ijoollummaa isheetiif gaddituutti boo’aa.
9 Kennaan midhaaniitii fi dhibaayyuun
mana Waaqayyoo irraa citaniiru.
Luboonni fuula Waaqayyoo dura tajaajilan
boo’aa jiru.
10 Lafti qotiisaa oneera;
laftis gogeera;
midhaan barbadaa’eera;
daadhiin wayinii haaraan dhumeera;
zayitiinis dhabameera.

11 Yaa qonnaan bultoota, isin raafamaa;
warri wayinii dhaabbattan boo’aa;

sababii midhaan lafa qotiisaa keessanii
barbadaa’eef qamadii fi garbuudhaaf boo’aa.
12 Wayiniin gogeera;
harbuunis coollageera;
roomaaniin, meexxii fi hudhaan,
mukkeen lafa qotiisaa hundinuu goganiiru.
Dhugumaan gammachuun ilmaan namaa
irraa badeera.

### *Waamicha Qalbii Jijjiirrachuu*

13 Yaa luboota, wayyaa gaddaa uffadhaatii boo’aa;
isin warri iddoo aarsaa dura tajaajiltan wawwaadhaa.
Isin warri fuula Waaqa koo dura tajaajiltan
kottaatii wayyaa gaddaa uffadhaa bulaa;
kennaan midhaaniitii fi dhibaayyuun
mana Waaqaa irraa hambifamaniiruutii.
14 Sooma qulqulluu labsaa;
waldaa qulqulluu waamaa.
Maanguddootaa fi
warra biyyattii keessa jiraatan hunda
gara mana Waaqayyoo Waaqa keessaniitti waamaatii
Waaqayyootti boo’aa.

15 Badne kaa! Guyyaan sun dhi’aateera.
Guyyaan Waaqayyoo ga’eeraatii;
inni akkuma badiisaatti
Waaqa Waan Hunda Danda’u biraa dhufa.

16 Ijuma keenya duratti
nyaanni cite;
ilillee fi gammachuunis
mana Waaqa keenyaa irraa hin cinnee?
17 Sanyiin lafa keessatti
tortoree hafe.
Mankuusni diigameera;
gombisaan caccabeera;
midhaan gogee hafeeraatii.
18 Loon akkam mar’atu!
Karri loonii sababii waan dheedu dhabeef
asii fi achi joora;
bushaayeenis dhiphataniiru.

19 Yaa Waaqayyo ani sin waammadha;
ibiddi lafa dheedaa barbadeessee
arrabni ibiddaa immoo mukkeen diidaa hunda gubee fixeeraatii.
20 Bineensonni bosonaa sitti gaggabu;
lagni bishaanii gogeera;
ibiddis dirree dheedaa gubee balleesseera.

## 2

### *Raayyaa Hawwaanisaa*

1 Xiyoon keessatti malakata afuufaa;

gaara koo qulqulluu irratti sagalee
akeekkachiisaa dhageessisaa.

Guyyaan WAAQAYYOO dhufaa jiraatii;
warri lafa irra jiraatan hundi haa hollatan.
Guyyaan sun dhi’aateera;
2 guyyaan dukkanaatii fi dimimmisaa,
guyyaan duumessaatii fi dukkana hamaa ni dhufa.
Sabni guddaa fi jabaan tokko
akkuma ifa ganama tulluuwwan irratti ba’uutti ni dhufa;
wanni akkasii takkumaa bara durii keessa ta’ee hin beeku
yookaan dhaloota dhufuuf jiru keessatti illee hin ta’u.

3 Fuula isaanii duraa ibiddi ni barbadeessa;
dugda isaanii duubaan immoo arraba ibiddaatu boba’a.
Fuula isaanii duraan lafti iddoo biqiltuu Eeden fakkaata;
dugda isaanii duubaan immoo lafti akkuma gammoojjii onee ti;
wanni tokko iyyuu isaan duraa hin miliqu.
4 Isaan bifa fardeenii qabu;
akkuma fardeen lolaas ni gulufu.
5 Isaan sagalee akka gaarii waraanaatiin
fiixee tulluu irra utaalu;
akkuma ibidda yeroo qarmii gubutti xaaxa’uu,
akkuma waraana jabaa lolaaf ba’e tokkoo ti.

6 Saboonni jara arginii dhiphatu;
fuulli nama hundaas ni gurraacha’a.
7 Isaan akkuma namoota jajjaboo fiigu;
akkuma loltootaa dallaa yaabbatanii seenu.
Hundi isaanii tarree galanii deemu;
isaan keessaa tokko iyyuu daandii isaa irraa hin jal’atu.
8 Isaan wal hin dhiiban;
hundi isaanii qajeelanii fuula duratti deemu.
Utuu toora isaanii hin dhiisin
ittisa cabsanii seenu.
9 Isaan magaalaa keessa asii fi achi fiigu;
dallaa irra fiigu.
Isaan mana yaabbatu;
akkuma hattuus foddaadhaan ol seenu.

10 Fuula isaanii duratti lafti ni sochooti;
samiin ni raafama;
aduu fi ji’i ni dukkanaa’u;
urjiiwwan deebi’anii hin ibsan.
11 WAAQAYYO fuula loltoota isaa duratti
sagalee dhageessisa;
loltoonni isaa akka malee baay’ee dha;
warri ajaja isaa eegan jajjaboo dha.
Guyyaan WAAQAYYOO guddaa dha;
guyyaan sun akka malee nama sodaachisa.
Eenyutu dura dhaabachuu danda’a?

### *Cubbuu Irraa Deebi’aa*

12 “Amma iyyuu garaa guutuudhaan,
soomaan, boo’ichaa fi gaddaan
gara kootti deebi’aa” jedha WAAQAYYO.

13 Isin utuu wayyaa keessan hin ta’in
garaa keessan tarsaasaa.
Gara WAAQAYYO Waaqa keessaniitti deebi’aa;
inni arjaa fi gara laafessaatii;
inni dafee hin aaru; jaalalli isaa baay’ee dha;
inni badiisa erguu irraa of qusata.
14 Maaltu beeka? Tarii inni deebi’ee gaabbee
eebba, kennaa midhaaniitii fi kennaa dhugaatii
kan WAAQAYYO Waaqa keessaniif ta’u
isiniif hambisa ta’a.

15 Xiyoon keessatti malakata afuufaa;
sooma qulqulluu labsaa;
waldaa qulqulluu waamaa.
16 Saba walitti qabaa;
waldaa sana qulqulleessaa;
maanguddoota walitti fidaa;
ijoollee walitti qabaa;
daa’imman harma hodhan illee hin hambisinaa.
Misirrichi kutaa isaa keessaa haa ba’u;
misirrittiinis diinqa isheetii haa baatu.
17 Luboonni fuula WAAQAYYOO dura tajaajilan
gardaafoo fi iddoo aarsaa gidduutti haa boo’an.
Isaan akkana haa jedhan; “Yaa WAAQAYYO saba kee baraari.
Handhuuraa kee waan qoosaa,
saboota gidduuttis waan kolfaa hin godhin.
Isaan maaliif namoota gidduutti,
‘Waaqni isaanii eessa jira?’ jedhu?”

### *Deebii WAAQAYYO Kenne*

18 WAAQAYYO biyya isaatiif ni hinaafa;
saba isaatiifis garaa laafa.
19 WAAQAYYO akkana jedhee deebii kennaaf:
“Ani midhaan, daadhii wayinii haaraa fi zayitii ejersaa
kan isin quubsu isiniif nan erga;
ani lammata saboota gidduutti
waan qoosaa isin hin godhu.

20 “Ani loltoota kaabaa isin duraa balleessee
gara lafa gogaa fi duwwaatti isaan ari’a;
loltoonni fuula duraan yaa’an galaana ba’a biiftuu,
kanneen dugda duubaan yaa’an immoo
galaana gama lixa biiftuu seenu.
Reeffi isaanii ni xiraa’a;
xiraan isaaniis ol ba’a.”

Dhugumaan inni waan guddaa hojjeteera!

21 Yaa biyya Yihuudaa, hin sodaatin;
gammadiitii ililchi.
WAAQAYYO dhugumaan waan guddaa hojjeteera!
22 Yaa bineensota bosonaa, isinis hin sodaatinaa;
dirreen dheedaa gabbachaa jiraatii.
Mukkeen ija naqachaa,
harbuu fi wayiniinis ija kennaa jiru.
23 Yaa uummata Xiyoon gammadi;
WAAQAYYO Waaqa keetti gammadi;
inni qajeelummaadhaan
rooba arfaasaa siif kenneeraatii.
Inni akkuma durii bokkaa baay’ee,
rooba arfaasaa fi kan birraa siif erga.
24 Oobdiin midhaaniin guutama;
boolli itti wayinii cuunfanis daadhii wayinii haaraa fi
zayitiidhaan guutamanii dhangalaasu.

25 “Ani waan bara hawwaannisni nyaate,
waan hawwaannisni gurguddaa fi xixinnaan nyaate,
waan hawwaannisni kaanii fi tuunni hawwaannisaa
jechuunis loltoonni koo jajjaboon ani gidduu keessanitti erge sun nyaatan
iddoo isiniif nan buusa.
26 Isin waan hamma quuftanitti nyaattan baay’ee ni qabaattu;
maqaa WAAQAYYO Waaqa keessanii
kan waan dinqii isiniif hojjete sanaa ni galateeffattu;
uummanni koo lammata hin qaaneffamu.
27 Ergasii isin akka ani Israa’el keessa jiru
akka ani WAAQAYYO Waaqa keessan ta’e,
akka ana malee Waaqni biraa hin jirre ni beektu;
uummanni koo lammata hin qaaneffamu.

### *Guyyaa WAAQAYYOO*

28 “Anis kana booddee,
Hafuura koo nama hunda irratti nan dhangalaasa.
Ilmaanii fi intallan keessan raajii dubbatu;
jaarsoliin keessan abjuu abjootu;
dargaggoonni keessan mul’ata argu.
29 Bara sana keessa, garboota koo
warra dhiiraa fi dubartii irratti illee
Hafuura koo nan dhangalaasa.
30 Ani ol samii irratti dinqii,
gad lafa irrattis dhiiga,
ibiddaa fi hurrii aaraa nan argisiisa.
31 Utuu guyyaan WAAQAYYOO inni guddichii fi
sodaachisaan sun hin dhufin dura,
aduun dukkanatti geeddaramti;
ji’i immoo dhiigatti geeddarama.
32 Namni maqaa WAAQAYYOO waammatu
hundinuu ni fayya;
akkuma WAAQAYYO dubbatettis
Tulluu Xiyoon irraa fi
Yerusaalem keessa, furamatu jiraata;

hambaa gidduuttis warri WAAQAYYO
isaan waame ni argamu.

# 3

*Sabootatti Murame*

1 “Bara sana keessa, yeroo sanatti,
ani yommuun boojuu Yihuudaatii fi
Yerusaalem deebisutti,
2 saboota hunda walitti qabeen
gara Sulula Yehooshaafaaxitti
gad isaan nan buusa.
Anis achitti sababii dhaala koo,
sababii Israa’eliif isaanitti nan mura;
isaan saboota gidduutti saba koo
bittinneessanii biyya koos gargar qooddataniiruutii.
3 Isaan uummata kootti ixaa buufatanii
ijoollee dhiiraas sagaagalummaatti geeddarataniiru;
akka dhuganiif dubara illee daadhii wayiniitti gurguratan.
4 “Yaa Xiiroosii fi Siidoonaa, isin kutaaleen Filisxeem hundinuu, amma maal
narraa qabdu? Isin waan ani godheef haaloo na baafachaa jirtuu? Yoo isin haaloo
na baafachaa jirtu ta’e ani dafee ariitiidhaan waan isin hojjettan sana matuma
keessanittin deebisa. 5 Isin meetii fi warqee koo guurrattanii qabeenya koo filatamaas
mana waaqeffannaa keessanitti geeffattaniirtuutii. 6 Isin biyya isaanii irraa isaan
fageessitanii uummata Yihuudaatii fi Yerusaalem Giriikotatti gurgurattan.
7 “Kunoo, ani biyya isin itti isaan gurgurattan keessaa isaan baasee waan isin
hojjettan sana matuma keessanitti nan deebisa. 8 Ani ilmaanii fi intallan keessan
saba Yihuudaatti nan gurgura; isaan immoo saba fagoo jiru kan Saabaa jedhamutti
dabarsanii isaan gurguratu.” WAAQAYYO dubbateeraatii.
9 Waan kana saboota gidduutti labsaa:
Waraanaaf qophaa’aa!
Gootota kakaasaa!
Loltoonni hundi dhi’aatanii haa lolan.
10 Maarashaa keessan tumaatii goraadee godhadhaa;
haamtuu keessanis tumaatii eeboo godhadhaa.
Namni laafaan,
“Ani jabaa dha!” haa jedhu.
11 Isin saboonni qixa hundaan dafaa kottaattii
achitti walitti qabamaa.

Yaa WAAQAYYO, loltoota kee gad ergi!

12 “Saboonni haa ka’an;
isaan dafanii gara Sulula Yehooshaafaax haa dhufan;
ani saboota gama hundaan jiranitti muruuf
achi nan taa’aatii.
13 Midhaan ga’eeraatii
haamtuu itti kaa’aa.
Kottaatii ija wayinii dhidhiitaa;
boolli itti wayinii cuunfan guuteeraatii;
sababii hamminni isaanii guddaa ta’eef
boolli itti wayinii cuunfan guutee irra dhangala’eera!”

14 Waldaan guddaan, waldaan nama baay’ee
sulula murtii keessatti wal ga’eera!
Guyyaan WAAQAYYOO
sulula murtii keessatti dhufuu ga’eeraatii.
15 Biiftuu fi addeessi ni dukkanaa’u;
urjiiwwanis si’achi ifa hin kennan.
16 WAAQAYYO Xiyoon irraa ni iyya;
Yerusaalem keessaas sagalee dhageessisa;
lafaa fi samiin ni raafamu.
WAAQAYYO garuu saba isaatiif iddoo itti baqatan,
saba Israa’eliif immoo da’oo ni ta’a.

*Eebba Saba Waaqaatiif kenname*

17 “Ergasii isin akka ani WAAQAYYO Waaqni keessan Xiyoon keessa,
gaara koo qulqulluu sana irra jiraadhu ni beektu.
Yerusaalem qulqulluu taati;
namoonni biyya alaa gonkumaa lammata ishee hin weeraran.

18 “Gaafas tulluuwwan daadhii wayinii haaraa ni coccobsu;
gaarranis aannan yaasu;
lageen Yihuudaa hundinuu bishaaniin guutamu.
Burqaan tokko mana WAAQAYYOO keessaa
burqee sulula Shixiim ni obaasa.
19 Gibxi garuu ni onti;
Edoomis duwwaa hafti;
isaan dhiiga nama yakka hin qabnee biyyattii keessatti
dhangalaasuudhaan
saba Yihuudaatti daba hojjetaniiruutii.
20 Yihuudaan bara baraan,
Yerusaalemis dhaloota hundaaf iddoo jireenyaa ni taati.
21 Ani dhiiga isaanii kan yakka hin qabne sana
utuun haaloo hin ba’in nan dhiisaa?
Lakkii, hin dhiisu.”

WAAQAYYO Xiyoon keessa jiraata!

# Raajii
# Amoos

1 Kun mul’ata Amoos inni tikseewwan Teqoo’aa keessaa tokko ture sun bara
Uziyaan mootii Yihuudaa, Yerobi’aam ilmi Yoo’aash immoo mootii Israa’el turetti,
utuu sochiin lafaa hin ta’in waggaa lama dura waa’ee Israa’el argee dha.

2 Innis akkana jedhe:
“WAAQAYYO Xiyoon keessaa iyya;
Yerusaalem keessaa sagalee dhageessisa;
dirreen tiksoonni itti bobbaasan ni goga;
fiixeen gaara Qarmeloosis ni coollaga.”

*Murtii Olloota Israa’elitti Murame*

3 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Damaasqoo sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii isaan meeshaa ittiin midhaan dha’an
kan ilkaan sibiilaa qabuun Gili’aadin tumaniif,
4 ani ibidda da’annoo Ben-Hadaad
barbadeessu tokko, mana Hazaa’eelitti nan erga.
5 Ani karra Damaasqoo nan cabsa;
mootii Sulula Aawwen keessa jiruu fi
isa Beet Eden keessatti bokkuu qabatu nan balleessa.
Uummanni Sooriyaa booji’amee Qiiritti ni geeffama”
jedha WAAQAYYO.
6 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Gaazaa sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii isheen hawaasa hunda boojitee
Edoomitti gurguratteef,
7 ani ibidda da’annoo ishee barbadeessu tokko
dallaa Gaazaatti nan erga.
8 Ani mootii Ashdoodii fi isa Ashqaloon keessatti
bokkuu qabatu sana nan balleessa.
Ani hamma hambaan Filisxeemotaa du’uutti
harka koo Eqroonitti nan deebifadha”
jedha WAAQAYYO Gooftaan.
9 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Xiiroos sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii isheen walii galtee obbolummaa cabsitee
hawaasa booji’ame guutuu Edoomitti gurguratteef
10 ani ibidda da’annoo ishee barbadeessu tokko
dallaa Xiiroositti nan erga.”
11 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Edoom sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii inni gara laafina hunda gatee
obboleessa isaa goraadeedhaan ari’eef,

sababii aariin isaa ittuma fufee ho’ee
dheekkamsi isaas utuu hin dhowwamin boba’eef,
12 ani ibidda da’annoo Bozraa barbadeessu tokko
Teemaanitti nan erga.”
13 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Amoon sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii inni daangaa isaa babal’ifachuuf jedhee
dubartoota Gili’aad kanneen ulfa qaban baqaqseef
14 ani guyyaa lolaatti wacaan,
guyyaa qilleensa hamaatti immoo bubbee jabaadhaan
ibidda da’annoo ishee barbadeessu tokko
dallaa Rabbaatti nan erga.
15 Mootiin ishee booji’amee innii fi
qondaaltonni isaa wajjin ni booji’amu”
jedha WAAQAYYO.

# 2

1 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Mo’aab sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii inni lafee mootii Edoom
gubee daaraa godheef,
2 ani ibidda da’annoo Keriiyooti barbadeessu tokko
Mo’aabitti nan erga.
Mo’aab iyya waraanaatii fi
sagalee malakataatiin du’a.
3 Ani bulchaa ishee ajjeesee
qondaaltota ishee hundas isa wajjinin fixa”
jedha WAAQAYYO.
4 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Yihuudaa sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Sababii isaan seera WAAQAYYOO didanii
ajaja isaas hin eeginiif,
sababii isaan waaqota sobaa,
waaqota abbootiin isaanii duukaa bu’an sanaan
karaa irraa jal’ataniif,
5 ani ibidda da’annoo Yerusaalem barbadeessu tokko
Yihuudaatti nan erga.”

### *Murtii Israa’elitti Murame*

6 WAAQAYYO akkana jedha:
“Ani cubbuu Israa’el sadiif,
afuriifis dheekkamsa koo duubatti hin deebisu.
Isaan qajeeltota meetiitti,
rakkattoota immoo kophee cimdii tokkotti gurguratan.
7 Isaan akkuma biyyoo lafaatti
mataa hiyyeeyyii irra ijaajjanii
cunqurfamaas murtii qajeelaa dhowwatan.
Abbaa fi ilmi durba tokkotti galanii
akkasiin maqaa koo qulqulluu xureessan.
8 Isaan uffata qabdiidhaan nama irraa

fudhatan irra iddoo aarsaa hunda bira ciciisan.
Isaan daadhii wayinii kan warra adabaman biraa dhufe,
mana waaqa isaanii keessatti dhugu.

9 “Inni akkuma birbirsaa dheeratee
akka qilxuu jabaatu iyyuu,
ani namicha Amoor sana fuula isaanii duratti galaafadheera.
Ani gubbaadhaa ija isaa,
jalaan immoo hidda isaa balleesseera.

10 “Ani biyya Amoorotaa isiniif kennuuf jedhee,
biyya Gibxiitii isin baasee
waggaa afurtama gammoojjii keessa isinan geggeesse.

11 “Akkasumas ani ilmaan keessan gidduudhaa raajota,
dargaggoota keessan gidduudhaa immoo Naaziroota kaaseera.
Yaa saba Israaʼel, wanni kun dhuguma mitii?”
jedha WAAQAYYO.
12 “Isin garuu Naaziroota daadhii wayinii obaaftanii
akka raajonnis raajii hin dubbanne ajajjan.

13 “Ani akkuma gaariin yommuu midhaaniin guutamu caccabu sana,
amma isinan caccabsa.
14 Saffisaan hin miliqu;
namoonni jajjaboon humna isaanii hin jabeeffatan;
loltuunis lubbuu isaa hin oolfatu.
15 Abbaan xiyyaa jabaatee dhaabachuu hin dandaʼu;
loltuun saffisaan fiigee jalaa hin baʼu;
abbaan fardaas lubbuu isaa oolfachuu hin dandaʼu.
16 Loltoonni akka malee jajjaboon iyyuu
gaafas qullaa isaanii baqatu”
jedha WAAQAYYO.

# 3

*Dhuga baatota Israaʼelitti Dhugaa Baʼan*

1 Yaa saba Israaʼel, dubbii WAAQAYYO isiniin mormuudhaan, maatii ani biyya Gibxii
baasee fide hundaan mormuudhaan dubbate kana dhagaʼaa:
2 “Ani maatiiwwan lafa irra jiraatan
hunda keessaa isin qofa filadheera;
kanaafuu ani cubbuu keessan
hundaaf isinan adaba.”

3 Yoo walii galan malee
namoonni lama wajjin ni deemuu?
4 Leenci tokko yoo waan adamsu hin argatin
bosona keessaa ni aadaa?
Inni yoo waa qabate malee
holqa isaa keessaa ni aadaa?
5 Simbirri tokko lafa kiyyoon hin kaaʼaminitti
kiyyoo keessa ni seentii?
Kiyyoon tokko yoo wanni qabamu hin jirre

akkasumatti lafaa ni utaalaa?
6 Yoo magaalaa keessatti malakanni afuufame,
namoonni hin raafamanii?
Balaan magaalaa tokkotti yoo dhufe,
WAAQAYYOTU waan sana fide mitii?

7 Dhugumaan WAAQAYYO Gooftaan
utuu tajaajiltoota isaa raajotatti hin mul'isin
waan tokko illee hin hojjetu.

8 Leenci aadeera;
eenyutu hin sodaanne ree?
WAAQAYYO Gooftaan dubbateera;
yoos eenyutu raajii hin dubbanne ree?

9 Da'annoo Ashdoodiitii fi
da'annoo Gibxitti akkana jedhaa labsaa:
"Tulluuwwan Samaariyaa irratti walitti qabamaa;
jeequmsa guddaa ishee keessa jiruu fi
cunqursaa uummata ishee keessa jiru ilaalaa."

10 "Warri da'annoo isaanii keessatti waan booji'amee fi
waan saamame kuufatan
akka itti waan qajeelaa hojjetan hin beekan"
jedha WAAQAYYO.
11 Kanaafuu WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
"Diinni biyya keessan marsa;
jabina keessan gad buusa;
da'annoowwan keessanis ni saama."
12 WAAQAYYO akkana jedha:
"Akkuma tikseen tokko lafee miilla lamaanii
yookaan fiixee gurraa qofa afaan leencaatii buusu sana,
Israa'eloonni Samaariyaa keessa, qarqara siree isaanii irra,
Damaasqoo keessas siree isaanii dinkii irra taa'an
akkasuma ni baraaramu."
13 "Waan kana dhaga'aatii mana Yaaqoobitti dhugaa ba'aa" jedha Gooftaan, WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda'u.
14 "Guyyaa ani cubbuu isheetiif jedhee Israa'elin adabutti,
iddoowwan aarsaa Beet'eel nan barbadeessa;
gaanfawwan iddoo aarsaas caccabanii
lafatti ni harca'u.
15 Ani mana gannaatii fi
mana bonaa nan diiga;
manneen ilka arbaatiin miidhagfaman ni diigamu;
manneen gurguddaanis ni balleeffamu"
jedha WAAQAYYO.

# 4

*Israa'el Gara Waaqaatti Hin deebine*

1 Isin yaa saawwan Baashaan kanneen Tulluu Samaariyaa irra jirtan,
yaa dubartoota, isin warri hiyyeeyyii fi rakkattoota cunqursitanii

dhirsoota keessaniin, “Dhugaatii nuuf fidaa!” jettan
dubbii kana dhaga’aa.
2 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedhee
qulqullummaa isaatiin kakateera:
“Yeroon isin itti hokkoodhaan,
isin keessaa namni dhumaa immoo qabduu qurxummiitiin
qabamu tokko dhugumaan ni dhufa.
3 Isin tokko tokkoon qajeeltanii
qaawwa dallaatiin ni baatu;
gara Harmoonittis ni darbatamtu”
jedha WAAQAYYO.
4 “Beet’eel dhaqaatii cubbuu hojjedhaa;
Gilgaal dhaqaatii cubbuu baay’ee hojjedhaa.
Ganama ganama aarsaa keessan dhi’eessaa;
waggaa sadii sadiitti immoo kennaa keessan harka kudhan keessaa
harka tokko fidaa.
5 Buddeena raacitii qabu aarsaa galataa godhaatii gubaa;
aarsaa fedhiidhaan kennitan labsaa; beeksisaas;
yaa Israa’eloota, wanni isin hojjechuu jaallattan kanaatii,
ittiin boonaa”
jedha WAAQAYYO Gooftaan.

6 “Ani magaalaa hunda keessatti garaa duwwaa isiniif kenneera;
magaalaa hunda keessattis buddeena isin dhabsiiseera;
isin garuu gara kootti hin deebine”
jedha WAAQAYYO.

7 “Ani yeroo midhaan haamamuuf ji’i sadii hafutti
bokkaa isin irraa nan kute.
Ani magaalaa tokkotti bokkaa ergee
kaan irraa immoo nan dhaabe.
Lafti qonnaa tokko bokkaa argatee
kaan garuu homaa dhabee goge.
8 Uummanni bishaan barbaacha magaalaadhaa gara magaalaatti joore;
garuu waan dhugaatiif isa ga’u hin arganne;
ta’us isin gara kootti hin deebine”
jedha WAAQAYYO.

9 “Ani yeroo hedduu iddoo biqiltuutii fi
wayinii keessan waagii fi awwaaroodhaan dha’een balleesse.
Hawwaannisni harbuu fi ejersa keessan barbadeesse;
ta’us isin gara kootti hin deebine”
jedha WAAQAYYO.

10 “Ani akkuman biyya Gibxi godhe sana
dha’icha isinitti nan erge.
Ani fardeen isin boojitan wajjin
dargaggoota keessan goraadeedhaan nan fixe.
Ajaa qubata keessaniitiin funyaan keessan nan guute;
isin garuu gara kootti hin deebine”
jedha WAAQAYYO.

11 “Ani akkuman Sodoomii fi Gomoraa garagalche sana
isin keessaa nama tokko tokko garagalcheera.
Isin akkuma muka boba’u kan ibidda keessaa butamee ti;
ta’us isin gara kootti hin deebine”
jedha WAAQAYYO.

12 “Kanaafuu yaa Israa’el, ani akkanan isin godha;
sababii ani akkana isin godhuuf
yaa Israa’el Waaqa kee arguuf qophaa’i.”

13 Inni tulluuwwan tolchee
bubbee uumee yaada isaa namatti mul’isu sun,
inni barii dukkaneessee
iddoowwan lafa ol ka’oo irra ejjetu sun,
maqaan isaa WAAQAYYO,
Waaqa Waan Hunda Danda’uu dha.

# 5

*Faaruu Boo’ichaatii fi Waamicha Qalbii Jijjiirrachuu*

1 Yaa mana Israa’el dubbii kana, faaruu boo’ichaa kan ani waa’ee keessaniif boo’u
kana dhaga’aa:
2 “Durbi qulqullittiin Israa’el kufteerti;
isheen lammata hin kaatu;
biyyuma ishee keessatti gatamtee
nama ol ishee qabu tokko illee dhabde.”
3 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha:
“Magaalaa loltoota kuma tokko Israa’eliif bobbaafteef
dhibba tokko qofatu hafa;
magaalaa loltoota dhibba tokko bobbaafteef
kudhan qofatu hafa.”
4 WAAQAYYO mana Israa’eliin akkana jedha:
“Na barbaaddadhaatii jiraadhaa;
5 Beet’eelin hin barbaaddatinaa;
Gilgaal hin dhaqinaa;
Bersheebaattis hin ce’inaa.
Gilgaal dhugumaan ni booji’amti;
Beet’eelis ni dhabamti.”
6 WAAQAYYOON barbaaddadhaatii jiraadhaa;
yoo kanaa achii inni akkuma ibiddaa
mana Yoosef keessa ba’ee haxaa’aa;
ibiddi sun ishee guba;
Beet’eelis nama irraa dhaamsu tokko iyyuu
hin qabaattu.

7 Isin warra murtii qajeelaa hadhaatti geeddartanii
qajeelummaas lafatti harcaaftanii dha.

8 Inni urjiiwwan Torbii fi urjiiwwan Sadee uume,
kan dukkana bariitti geeddaru,
inni guyyaa dukkaneessee halkan godhu,
kan galaana keessaa bishaan ol waamee

fuula lafa gogaa irratti dhangalaasu
maqaan isaa WAAQAYYOO dha.
9 Inni da'oo jabaatti badiisa tasaa fida;
magaalaa dallaa jabaa qabdus ni barbadeessa.

10 Isaan nama karra irratti nama ifatu ni jibbu;
kan dhugaa dubbatus ni balfu.

11 Isin hiyyeeyyii dhidhiittanii
akka isaan midhaan isinii kennan dirqisiiftu.
Kanaafuu isin manneen dhagaa yoo ijaarrattan iyyuu
manneen sana keessa hin jiraattan;
isin iddoowwan qotiisaa gaarii keessa wayinii yoo dhaabbattan iyyuu
daadhii wayinii isaanii hin dhugdan.
12 Balleessaan keessan hammam akka baay'atuu fi
cubbuun keessanis hammam guddaa akka ta'e nan beekaatii.

Isaan qajeeltota hacuucanii matta'aa irraa fudhatu;
hiyyeeyyiis mana murtii keessatti murtii qajeelaa dhowwatu.
13 Kanaafuu namni qalbeeffataan yeroo akkasiitti afaan qabata;
barri kun bara hamaadhaatii.

14 Akka lubbuudhaan jiraattaniif
waan hamaa dhiisaatii waan gaarii barbaadaa.
Yoos akkuma isin jettan sana
WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda'u isin wajjin ta'a.
15 Waan hamaa jibbaa; waan gaarii jaalladhaa;
mana murtii keessatti murtii qajeelaa jabeessaa;
WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda'u
tarii hambaa Yoosefiif garaa laafa ta'aatii.
16 Kanaafuu Gooftaan, WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda'u akkana jedha:
“Daandii hunda irra boo'icha,
oobdii uummataa hunda irra immoo iyya dhiphinaatu jira.
Qonnaan bultoonni akka boo'aniif,
warri boo'an immoo akka wawwaataniif ni waamamu.
17 Ani gidduu keessan waanan darbuuf
iddoo dhaabaa wayinii hunda keessaa boo'ichatu ta'a”
jedha WAAQAYYO.

### *Guyyaa WAAQAYYOO*

18 Isin warra guyyaa WAAQAYYOO
arguu hawwitaniif wayyoo!
Isin maaliif guyyaa WAAQAYYOO arguu hawwitu!
Guyyaan sun dukkana malee ifa hin ta'uutii.
19 Wanni kun akkuma nama leenca jalaa ba'ee
afaan amaaketaa bu'u tokkoo ti;
yookaan akka nama mana isaa seenee
harka isaa keenyan manaa irra kaa'atee
bofti isa idde tokkoo ti.
20 Guyyaan WAAQAYYOO ifa utuu hin ta'in dukkana mitii?
Dukkana hamaa ifa tokko illee of keessaa hin qabne mitii?

21 “Ani ayyaana amantaa keessanii nan jibba; nan tuffadhas;
waldaa keessanittis hin gammadu.
22 Utuu isin aarsaa gubamuu fi kennaa midhaanii naaf fiddanii iyyuu
ani jaalladhee isin irraa hin fudhadhu.
Utuu isin aarsaa nagaa filatamaa naaf fiddanii iyyuu
ani homaattuu isa hin lakkaa’u.
23 Waca faarfannaa keessanii asii balleessaa!
Ani muuziiqaa baganaa keessanii hin dhaggeeffadhu.
24 Garuu murtiin qajeelaan akkuma lagaa,
qajeelummaanis akkuma burqaa hin gognee haa yaa’u!

25 “Yaa mana Israa’el isin waggaa afurtama
gammoojjii keessatti takkumaa aarsaa fi kennaa naaf fiddaniirtuu?
26 Isin waan harkuma keessaniin tolfattan
jechuunis galma waaqeffannaa mootii keessanii,
utubaa waaqa keessan tolfamaatii fi
fakkii urjii waaqa keessanii ol fuutaniirtu.
27 Kanaafuu ani akka isin booji’amtaniif,
Damaasqoodhaan gamatti isinan erga”
jedha WAAQAYYO inni maqaan isaa
Waaqa Waan Hunda Danda’u ta’e sun.

# 6

### *Warra Yaaddoo Malee Jiraataniif Wayyoo*

1 Yaa warra yaaddoo malee Xiyoon keessa jiraattan,
kanneen Tulluu Samaariyaa irra waan nagaadhaan jiraatan seetan,
isaan namoota ulfaatoo saba durii,
kanneen sabni Israa’el gara isaanii dhufuuf wayyoo!
2 Gara Kaalneetti darbaatii ilaalaa;
achii ka’aatii gara Hamaati guddichaa dhaqaa;
ergasii immoo Gaati Filisxeem keessaatti gad bu’aa.
Isaan mootummoota keessan lamaan caaluu?
Biyyi isaanii biyya keessan caalaa bal’ataa?
3 Isin guyyaa hamaa fageessitanii
bulchiinsa jeequmsaa fiddu.
4 Isin siree ilka arbaatiin miidhagfame irra ciiftu;
siree keessan dinkii irra boqottu.
Isin xobbaallaa hoolaa filatamoo fi
jabbii coccoomoo nyaattu.
5 Isin sagalee baganaatiin weedduu faayidaa hin qabne weeddiftu;
akkuma Daawitis meeshaa muuziiqaa qaqqajeelfattu.
6 Isin xoofoo keessaa daadhii wayinii dhugdu;
dibata akka malee gaarii dibattu;
garuu badiisa Yoosefiif hin gadditan.
7 Kanaafuu isin warra jalqabatti booji’aman wajjin
booji’amtanii fudhatamtu;
burraaquu fi bashannanuun keessan ni hafa.

### *WAAQAYYO Of Tuulummaa Israa’el Jibba*

8 WAAQAYYO Gooftaan ofii isaatiin kakateera; WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda’u akkana jedha:

"Ani of tuulummaa Yaaqoob nan balfa;
da'annoo isaas nan jibba;
ani magaalattii fi waan ishee keessa jiru hunda
dabarsee nan kenna."
9 Namoonni kudhan yoo mana tokko keessatti hafan isaanis ni dhumu. 10 Yoo firri
reeffa baasee gubu tokko mana sana keessaa baasuuf dhufee nama dhokatee achi
jiru kamiin iyyuu, "Namni tokko iyyuu si wajjin jiraa?" jedhee gaafatee namichi sun,
"Hin jiru" jedheen, inni "Cal'isi! Nu maqaa WAAQAYYOO dha'uu hin qabnu" jedhaan.
11 Kunoo WAAQAYYO ajaja kenneeraatii,
manneen gurguddaan ni barbadaa'u;
manneen xixinnoonis ni caccabu.

12 Fardeen kattaawwan irra ni fiiguu?
Namni tokko qotiyyoodhaan achi ni qotaa?
Isin garuu murtii qajeelaa gara summiitti,
ija qajeelummaas gara hadhaatti geeddartaniirtu;
13 isin warra Lodebaar mo'achuutti gammaddanii,
"Nu humna keenyaan Qaarnaayim qabanne mitii?" jettanii dha.

14 WAAQAYYO Waaqni Waan Hunda Danda'u akkana jedhaatii;
"Yaa mana Israa'el, ani saba Leeboo Hamaatii jalqabee
hamma sulula Arabbaatti
karaa keessan hunda irratti isin cunqursu tokko isinittin kaasa."

# 7

*Hawwaannisa, Ibiddaa fi Tumbii*

1 WAAQAYYO Gooftaan waan kana natti argisiise: Inni erga qoodni mootichaa
haamamee booddee, utuma midhaan lammaffaan ga'aa jiruu tuuta hawwaannisaa
qopheesse. 2 Anis erga hawwaannisni sun lafa barbadeessee booddee, "Yaa
WAAQAYYO Gooftaa, nuuf araarami! Yaaqoob akkamiin danda'ee badiisa irraa hafa?
Inni daa'ima xinnaa dha!" jedheen iyye.
3 Kanaafuu WAAQAYYO ni gaabbe.
WAAQAYYOS, "Wanni kun hin ta'u" jedhe.
4 WAAQAYYO Gooftaan waan kana natti argisiise; WAAQAYYO Gooftaan murtii ken-
nuuf ibidda waamaa ture; ibiddi sunis tuujuba guddaa gogsee lafas ni barbadeesse.
5 Kana irratti ani, "Yaa WAAQAYYO Gooftaa, ani sin kadhadhaa, waan kana nurraa
dhaabi! Yaaqoob akkamiin waan kana irraa hafa? Inni daa'ima xinnaa dha!"
jedheen iyye.
6 Kanaafuu WAAQAYYO ni gaabbe.
WAAQAYYO Gooftaan, "Wanni kunis hin ta'u" jedhe.

7 Inni waan kana na argisiise: Gooftaan tumbii harkatti qabatee dallaa tumbiidhaan
ijaarame bira dhaabachaa ture. 8 WAAQAYYOS, "Amoos, ati maal arguutti jirta?"
jedhee na gaafate.
Anis, "Tumbii nan arga" jedheen deebise.
Gooftaanis akkana naan jedhe; "Kunoo ani saba koo Israa'el gidduu tumbii tokko
nan kaa'a; ani si'achi isaan hin baraaru.
9 "Iddoowwan sagadaa Yisihaaq ni barbadaa'u;
iddoon qulqulluun Israa'elis ni ona;
ani goraadee kootiin mana Yerobi'aamitti nan ka'a."

### *Amoosii fi Amasiyaa*

10 Ergasii Amasiyaa lubni Beet’eel akkana jedhee Yerobi’aam mooticha Israa’elitti
ergaa tokko erge; “Amoos garaa Israa’el keessatti sitti malateera. Dubbii isaa hunda
lafti iyyuu baachuu hin dandeessu. 11 Amoos akkana jedheeraatii:
“ ‘Yerobi’aam goraadeedhaan du’a;
Israa’elis dhugumaan booji’amee
biyya isaatii ni fudhatama.’ ”
12 Kana irratti Amasiyaan Amoosiin akkana jedhe; “Yaa ilaaltuu nana, sokki! Biyya
Yihuudaatti deebi’i. Achitti buddeena nyaadhu; raajiis dubbadhu. 13 Sababii inni
iddoo qulqulluu mootichaatii fi mana qulqullummaa mootummaa ta’eef ati lammata
Beet’eel keessatti raajii hin dubbatin.”
14 Amoos immoo akkana jedhee Amasiyaaf deebise; “Ani raajii yookaan ilma raajii
miti; garuu ani tiksee fi eegduu muka harbuun ture. 15 WAAQAYYO garuu tika
bushaayee keessaa na fuudhee, ‘Dhaqii saba koo Israa’elitti raajii dubbadhu’ naan
jedhe. 16 Egaa amma dubbii WAAQAYYOO dhaga’i. Ati akkana jetta;
“ ‘Ati Israa’eliin mormuudhaan raajii hin dubbatin;
mana Yisihaaq mormuudhaan lallabuu dhiisi.’
17 “Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha:
“ ‘Niitiin kee magaalaa keessatti sagaagaltuu taati;
ilmaan keetii fi intallan kee goraadeedhaan dhumu.
Biyyi kee safaramtee gargar qoodamti;
ati mataan kee iyyuu biyya ormaatti duuta.
Israa’el dhugumaan booji’amee
biyya isaatii ni fuudhama.’ ”

# 8

### *Guuboo Ija Bilchaateen Guutame*

1 WAAQAYYO Gooftaan waan kana natti argisiise: kun guuboo ija bilchaateen
guutamee dha. 2 Innis, “Amoos, ati maal arguutti jirta?” jedhee na gaafate.
Ani immoo, “Guuboo ija bilchaateen guutame tokko” jedheen deebiseef.
Ergasii WAAQAYYO akkana naan jedhe; “Saba koo Israa’elitti yeroon dhufeera; ani
si’achi isaan hin baraaru.”
3 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha; “Gaafas faarfannaan mana qulqullummaa
keessaa boo’ichatti geeddarama. Reeffi akka malee hedduun lafa hundatti gatama!
Cal’isuunis ni ta’a!”
4 Isin warri rakkattoota dhidhiittanii
hiyyeeyyii biyyattii balleessitan waan kana dhaga’aa;
5 isin akkana jettu;
“Akka nu midhaan gurgurannuuf
Baatiin Haaraan yoom goobana?
Akka nu qamadii gabaa baafannuuf
Sanbanni yoom darba?”
Isin warri safartuu xinnootti fayyadamtanii
gatii immoo ol kaaftan, madaalii sobaatiin
nama gowwoomsitanii saamtu;
6 hiyyeeyyii meetiidhaan,
rakkataa immoo kophee miilla lamaaniitiin bitattanii
girdiis qamadii wajjin gurgurattu.
7 WAAQAYYO akkana jedhee ulfina Yaaqoobiin kakateera; “Ani gonkumaa waan
isaan hojjetan tokko illee hin irraanfadhu.

8 “Sababii kanaaf lafti kirkirtee
namoonni ishee keessa jiraatan hundi hin boo’anii?
Guutummaan biyya sanaa akkuma laga Abbayyaa ol ka’a;
isheen akkuma laga Gibxi
ol dadarbatamtee liqimfamti.”
9 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha; “Bara sana,
“Ani akka aduun saafaadhaan dhiitee
laftis guyyuma adiidhaan dukkanooftu nan godha.
10 Ani ayyaana amantii keessanii gaddatti,
sirba keessan hundas boo’ichatti nan geeddara.
Ani akka isin hundi wayyaa gaddaa uffattanii
mataa keessan haaddattan nan godha.
Ani yeroo sana akkuma boo’icha ilma tokkichaa,
dhuma isaas akka guyyaa hadhaa’aa nan godha.”

11 WAAQAYYO Gooftaan akkana jedha;
“Yeroon ani biyyattiitti beela fidu tokko ni dhufa;
innis beela dubbii WAAQAYYOO dhaga’uu ti malee
beela nyaataa yookaan dheebuu bishaanii miti.
12 Namoonni dubbii WAAQAYYOO barbaacha
galaanaa gara galaanaatti,
kaabaa gara ba’a biiftuutti ni jooru;
garuu hin argatan.
13 “Bara sana
“Shamarran babbareedoo fi
dargaggoonni dhiiraa jajjaboon dheebotanii gaggabu.
14 Warri cubbuu Samaariyaatiin kakatan
yookaan ‘Yaa Daan dhugaa waaqa kee jiraataa’ jedhan,
yookaan warri ‘Dhugaa waaqa Bersheebaa’ jedhanii
kakatan akka lammata hin kaaneef ni kufu.”

# 9

*Barbadeeffamuu Israa’el*

1 Utuu Gooftaan iddoo aarsaa bira dhaabatuu nan arge; innis akkana jedhe:
“Akka buusaawwan balbalaa raafamaniif
fiixee utubaa dha’i.
Mataa nama hundaa irratti gad isaan harcaasi;
warra hafe immoo anatu goraadeedhaan fixa.
Tokkoon isaanii iyyuu baqatanii hin ba’an;
isaan keessaa namni tokko iyyuu hin miliqu.
2 Yoo isaan boolla qilee qotatan iyyuu
harki koo achii isaan fuudha.
Yoo isaan samiitti ol ba’an iyyuu
ani achii gad isaan nan buusa.
3 Yoo isaan fiixee Qarmeloos irra
dhokatan iyyuu, ani achii adamsee qabee
gad isaan nan fida.
Yoo isaan galaana jala na dhokatan iyyuu,
ani akka inni achitti isaan idduuf bofa itti nan ajaja.
4 Yoo diinonni isaanii booji’anii isaan fudhatan,
achitti goraadee isaan fixxu itti nan ajaja.

“Ani waan gaariidhaaf utuu hin ta’in
waan hamaadhaaf ija koo isaan irra nan buusa.”

5 Gooftaan, WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u lafa ni tuqa;
isheenis ni baqxi;
wanni ishee irra jiraatu hundinuu ni boo’a;
biyyattiin guutuun akka laga Abbayyaa ol kaati;
ergasiis akka laga Gibxi gad galti;
6 inni darbii isaa ol dheeraa samii irratti ijaarratee
hundee isaa lafa irra dhaabbatu,
inni bishaanota galaanaa waamee
fuula lafaa irratti gad roobsu sun
maqaan isaa WAAQAYYO.

7 “Isin Israa’eloonni
anaaf akkuma saba Itoophiyaa mitii?”
jedha WAAQAYYO.
“Ani Israa’eloota biyya Gibxiitii,
Filisxeemota Kaftoorii,
warra Sooriyaa immoo Qiirii baasee hin fidnee?

8 “Dhugumaan iji WAAQAYYO Gooftaa
mootummaa cubbamaa irra jira.
Ani fuula lafaa irraa isa nan balleessa;
ta’us ani guutumaan guutuutti mana Yaaqoob hin balleessu”
jedha WAAQAYYO.
9 “Ani ajaja kennee
akkuma midhaan gingilchaadhaan
gingilfamee iji tokko iyyuu lafa hin buune sana
saboota hunda gidduutti
mana Israa’el nan gingilcha.
10 Cubbamoonni saba koo gidduu jiraatan hundi
Warri, ‘Balaan nu hin argatu
yookaan nutti hin dhufu’ jedhan
hundi goraadeedhaan dhumu.

### *Haaromfamuu Israa’el*

11 “Ani bara sana keessa dunkaana Daawit
“Kan kufe sana deebisee nan dhaaba.
Kan tarsa’es walitti nan supha;
diigamaa isaa iddootti deebisee
akka duraatti nan ijaara;
12 kunis akka isaan hambaa Edoomii fi
saboota maqaa kootiin waamaman hunda dhaalaniif”
jedha WAAQAYYO, inni waan kana hojjetu.
13 WAAQAYYO akkana jedha; “Kunoo, barri itti namni haamu tokko isa qotu qaqqabu,
“namni wayinii dhaabu immoo
isa cuunfu qaqqabu tokko ni dhufa;
Daadhiin wayinii haaraan tulluuwwan irraa ni coccopha;
gaarran hunda keessaas ni yaa’a.
14 Ani saba koo Israa’elin boojuudhaa nan deebisa.

“Isaanis magaalaawwan diigaman deebisanii ijaaranii keessa ni jiraatu.
Isaan wayinii dhaabanii, daadhii wayinii isaanii ni dhugu;
isaan biqiltuu dhaabbatanii ija isaa ni nyaatu.
15 Ani Israa’eloota biyya ofii isaanii keessa nan dhaaba;
isaan biyya ani isaaniif kenne keessaa
lammata hin buqqifaman,”
jedha WAAQAYYO Waaqni kee.

# Raajii Obaadiyaa

1 Mul’ata Obaadiyaa.
*1-4 kwf – Erm 49:14-16*
*5-6 kwf – Erm 49:9-10*
WAAQAYYO Gooftaan waa’ee Edoom akkana jedha.

Nu ergaa tokko WAAQAYYO irraa dhageenyeerra:
Ergamaan tokko, “Ka’aa dhaqnee ishee lollaa;
waraanaafis ba’aa” jechuuf gara sabootaatti ergame.

2 “Kunoo, ani saboota gidduutti sin xinneessa;
atis akka malee tuffatamta.
3 Ati kan baqaqaa kattaa keessa jiraattee
mana kee lafa ol ka’aa irratti ijaarrattu,
kan, ‘Eenyutu lafatti gad na buusa?’ ofiin jettu,
of tuulummaan garaa keetii si gowwoomseera.
4 Yoo ati akkuma risaa ol fagaattee
urjiiwwan gidduutti man’ee kee ijaarratte iyyuu,
ani achii gad sin buusa”
jedha WAAQAYYO.
5 “Hattuun yoo sitti dhuftee
saamtuun halkaniin sitti seente,
balaa akkamiitu si eeggata!
Isaan hammuma barbaadan qofa fudhatanii hin deemanii?
Warri ija wayinii guuran utuu gara kee dhufanii,
silaa qarmii wayii hin dhiisanii?
6 Esaawu garuu akkam saamamee
qabeenyi isaa dhokfamaanis jalaa guurame!
7 Gareen kee hundinuu gara moggaatti si dhiiba;
michoonni kee si gowwoomsanii si mo’atu;
warri buddeena kee nyaatan kiyyoo si dura kaa’u;
ati garuu waan kana hin hubattu.

8 “Ani bara sana ogeeyyii Edoom,
namoota hubannaa qaban tulluuwwan Esaaw irraa
hin balleessuu?” jedha WAAQAYYO.
9 “Yaa Teemaan qabsaa’onni kee ni rifatu;
namni tulluuwwan Esaawuu irra
jiraatu hundinuus gorra’amee dhuma.
10 Sababii daba obboleessa kee Yaaqoobitti hojjetameetiif
ati qaaniidhaan haguugamta;
bara baraanis ni balleeffamta.
11 Gaafa alagoonni qabeenya isaa
guurratanii namoonni ormaa immoo karra isaa seenanii
Yerusaalemitti ixaa buufatanitti,
atis kophaa dhaabattee

isaan keessaa akka isa tokkoo taate.
12 Gaafa inni milkii dhabetti
ati obboleessa kee tuffachuu hin qabdu turte;
yookaan guyyaa badii isaaniitti
saba Yihuudaatti gammaduu hin qabdu turte;
yookaan bara rakkina isaanii keessa
akka malee of tuuluu hin qabdu turte.
13 Bara balaan isaanitti dhufe keessa
karra saba kootiin ol seenuu hin qabdu turte;
yookaan bara dha'ichi isaanitti dhufe keessa
rakkina isaanii keessatti isaan tuffachuu hin qabdu turte;
yookaan bara balaan isaanitti dhufe keessa
qabeenya isaanii saamuu hin qabdu turte.
14 Baqattoota isaa fixuuf jettee qaxxaamura karaatti
isaan eeggachuu hin qabdu turte;
yookaan bara rakkina isaa keessa
hambaa isaa dabarsitee kennuu hin qabdu turte.

15 "Guyyaan WAAQAYYOO
saboota hundaaf dhi'aateera.
Akkuma ati hojjette sittis ni hojjetama;
hojiin kees matuma keetti deebi'a.
16 Akkuma isin gaara koo qulqulluu irratti dhugdan sana,
saboonni hundinuu ittuma fufanii ni dhugu;
isaan itti deddeebi'anii dhugu;
akka waan gonkumaa hin dhuginii ta'u.
17 Tulluu Xiyoon irra garuu furamuun ni jiraata;
inni ni qulqullaa'a;
manni Yaaqoobis dhaala isaanii ni dhuunfatu.
18 Manni Yaaqoob ibidda,
manni Yoosef immoo arraba ibiddaa ta'a;
manni Esaaw huura ta'a;
isaanis ibidda itti qabsiisanii gubanii barbadeessu.
Mana Esaaw keessaa
namni tokko iyyuu hin hafu"
jedhee dubbateera WAAQAYYO.

19 Namoonni Negeeb
tulluuwwan Esaaw ni qabatu;
namoonni gaarran jala jiraatan immoo
biyya Filisxeemotaa qabatu.
Isaan dirree Efreemii fi Samaariyaa ni qabatu;
Beniyaam immoo biyya Gili'aad qabata.
20 Gareen booji'amtoota Israa'el kan Kana'aan jiraatu kun
biyya hamma Saaraptaatti jiru dhaala;
booji'amtoonni Yerusaalem kanneen
Sefaaraad jiraatan magaalaawwan Negeeb dhaalu.
21 Bilisa baastonni tulluuwwan Esaaw bulchuudhaaf
Tulluu Xiyoonitti ol ba'u.
Mootummaanis kan WAAQAYYOO ta'a.

# Raajii
# Yoonaas

### *Yoonaas WAAQAYYO Duraa Baqate*

1 Dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Yoonaas ilma Amitaayi dhufe: 2 “Sababii
hamminni ishee fuula koo dura dhufeef, gara Nanawwee magaalaa guddittii dhaqiitii
isheedhaan mormuudhaan itti lallabi.”

3 Yoonaas garuu WAAQAYYO duraa baqatee Tarshiishitti qajeele. Innis Yoopheetti gad
bu’ee doonii gara Tarshiish deemu tokko argate. Erga gatii geejjibaa baasee booddee
WAAQAYYO duraa miliquuf jedhee doonii yaabbatee Tarshiishitti imale.

4 WAAQAYYO bubbee jabaa tokko galaanatti erge; dambaliin akka malee jabaan tokko
kaanaan dooniin sun gargar caccabuu ga’e. 5 Warri doonii sana oofan hundinuu akka
malee sodaatanii tokkoon tokkoon isaanii waaqa isaaniitti iyyatan. Isaanis ba’aa
xinneessuuf jedhanii doonii irraa fe’iisa galaanatti gad dadarbatan.

Yoonaas garuu garaa doonii seenee ciisee achitti hirribni guddaan isa qabe.
6 Ajajaan doonii sanaa gara isaa dhufee, “Ati akkam akkas rafuu dandeessa? Ka’ii
waaqa kee waammadhu! Tarii inni nuu dhaga’ee nus du’a oolla ta’aatii” jedheen.

7 Warri doonii oofanis, “Kottaa nama balaa kana nutti fide beekuuf ixaa buu-
fannaatii” waliin jedhan. Isaan ixaa buufannaan ixaan sun Yoonaas irra bu’e.
8 Kanaafuu isaan, “Mee nutti himi; namni balaa nutti dhufe kana hundaaf itti
gaafatamu eenyu? Hojiin kee maali? Ati eessaa dhufte? Biyyi kee eessa? Ati saba
kam keessaa dhalatte?” jedhanii isa gaafatan.

9 Innis, “Ani Ibricha WAAQAYYO, Waaqa isa samii, galaanaa fi lafa uume sana
waaqeffatuu dha” jedhee deebise.

10 Wanni kun isaan sodaachisnaan, “Ati maal goote?” jedhanii isa gaafatan.
Isaanis sababii inni duraanuu isaanitti himeef akka inni WAAQAYYO duraa miliquuf
baqachuutti jiru beekan.

11 Galaanni sunis ittuma caalchisee raafamaa dhufe. Kanaafuu isaan, “Nu amma
galaana kana tasgabbeessuuf maal si gochuu qabna?” jedhanii isa gaafatan.

12 Innis, “Ol na fuudhaatii galaanatti na darbadhaa; ergasii galaanichi gab jedha.
Ani akka dha’aan galaanaa hamaan kun sababii balleessaa kootiitiif dhufe nan
beeka” jedhee deebise.

13 Namoonni sun garuu qooda kanaa doonii sana gara qarqaraatti baasuuf waan
danda’an hunda yaalan. Isaan garuu galaanni sun ittuma caalchisee raafamaa waan
dhufeef baasuu hin dandeenye. 14 Kana irratti isaan, “Yaa WAAQAYYO, ati sababii
lubbuu namicha kanaatiif jettee nu hin fixin. Yaa WAAQAYYO ati waan akkuma feete
hojjetteef yakka lubbuu nama balleessaa hin qabnee ajjeesuu nutti hin herregin”
jedhanii gara WAAQAYYOOTTI iyyatan. 15 Akkasiin Yoonaasin fuudhanii doonii irraa
gad darbatan; galaanni raafamaa ture sunis gab jedhe. 16 Kana irratti namoonni
sun akka malee WAAQAYYOON sodaatanii aarsaa WAAQAYYOOF dhi’eessan; wareegas
wareeganiif.

17 WAAQAYYO garuu akka inni Yoonaasin liqimsuuf qurxummii guddaa tokko
qopheesse; Yoonaasis guyyaa sadii fi halkan sadii garaa qurxummii sanaa keessa
ture.

## 2

### *Kadhannaa Yoonaas*

1 Yoonaas garaa qurxummii keessaa WAAQAYYOON Waaqa isaa kadhate. 2 Innis
akkana jedhe:
"Ani rakkina koo keessatti WAAQAYYOON waammadhe;
innis deebii naaf kenne.
Ani gargaarsa barbaacha garaa sii'ool keessaa nan iyye;
atis iyya koo naaf dhageesse.
3 Ati tuujubatti,
garaa galaanaatti gad na darbatte;
lolaanis na marse;
dambalii fi dha'aan kee
hundinuu narra garagalan.
4 Anis, 'Kunoo ani fuula kee duraa balleeffameera;
ta'us ani deebi'ee gara mana qulqullummaa keetii
qulqulluu sanaan ilaala' nan jedhe.
5 Bishaanonni na haguugan;
tuujubni immoo na marse;
aramaan galaanaas mataatti na marame.
6 Ani gara hundee tulluuwwaniittin gad liqimfame;
balballi lafa jalaas bara baraan natti cufame.
Yaa WAAQAYYO Waaqa ko,
ati garuu lubbuu koo boolla keessaa ol baafte.

7 "Yaa WAAQAYYO, yeroo lubbuun koo dadhabdetti
ani sin yaadadhe;
kadhannaan koos gara kee
gara mana qulqullummaa kee qulqullichaatti ol ba'e.

8 "Warri waaqota tolfamoo faayidaa hin qabnetti cichan
araara Waaqaa irraa garagalu.
9 Ani garuu faarfannaa galataatiin
aarsaa siif nan dhi'eessa.
Ani wareegan wareege sanas nan baasa.
Anis, 'Fayyinni WAAQAYYO biraa dhufa' " nan jedha.
10 WAAQAYYOS qurxummii sana ajaje; qurxummiin sunis lafa gogaa irratti Yoonaasin
tufe.

# 3

*Yoonaas Nanawwee Dhaqe*

1 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee yeroo lammaffaa gara Yoonaas dhufe:
2 "Gara Nanawwee magaalaa guddittii sanaa dhaqiitii ergaa ani sitti himu kana itti
lallabi."
3 Yoonaasis dubbii WAAQAYYOOTIIF ajajamee Nanawwee dhaqe. Yeroo sanatti
Nanawween magaalaa akka malee guddoo turte; keessa ba'anii darbuufis guyyaa
sadii fudhata ture. 4 Yoonaas imala guyyaa tokkoo deemuudhaan magaalattiitti gale.
Akkana jedhees lallabe: "Nanawween guyyaa afurtama keessatti ni garagalfamti."
5 Warri Nanawwees Waaqatti amanan. Soomas labsanii hundi isaanii xinnaa fi
guddaan uffata gaddaa uffatan.
6 Yommuu oduun kun mooticha Nanawwee ga'etti inni teessoo isaa irraa ka'ee
uffata mootii of irraa baase; wayyaa gaddaas uffatee daaraa keessa taa'e. 7 Ergasii
akkana jedhee Nanawwee keessatti labsii labse:
"Ajajni mootichaatii fi qondaaltota isaa kanaa dha:

Akka namni yookaan horiin tokko iyyuu, karri loonii yookaan bushaayeen waan
tokko iyyuu afaaniin qabu hin eeyyaminaa; akka isaan waa nyaatan yookaan
dhugan hin eeyyaminaa. 8 Garuu namnis, horiinis wayyaa gaddaa haa uffatan.
Namni hundinuu dafee Waaqa isaa haa waammatu. Isaan karaa isaanii hamaa
sanaa fi yakka harki isaanii hojjetu irraa haa deebi'an. 9 Maaltu beeka? Tarii
Waaqni gaabbee garaa nuu laafee dheekkamsa isaa sodaachisaa sana nurraa
deebisee, nuus badii oolla ta'aatii."
10 Waaqnis akka isaan waan hamaa irraa deebi'an hojii isaanii arge; Waaqnis garaa
laafeefii balaa isaanitti erguuf yaade sana isaanitti fiduu dhiise.

# 4

## *Yoonaas Gara Laafina WAAQAYYOTTI Aare*

1 Wanni kun Yoonaasin baay'ee hin gammachiifne; inni ni aare. 2 Akkana jedhees
WAAQAYYOON kadhate; "Yaa WAAQAYYO wanni ani yeroo biyya koo turetti jedhe sun
kanuma mitii? Wanni ani Tarshiishitti baqachuuf ariifadheefis kana. Ani akka ati
Waaqa arjaa fi garaa laafessa, kan dafee hin aarree fi kan jaalalli isaa guddaa ta'e,
Waaqa balaa buusuu irraa of qusatu taate nan beeka. 3 Yaa WAAQAYYO jiraachuu
mannaa du'uu naaf wayyaatii amma lubbuu koo fudhadhu."
4 WAAQAYYO garuu, "Ati aaruun kee sirriidhaa?" jedheen.
5 Yoonaasis magaalattii keessaa ba'ee karaa ba'a magaalattiitiin taa'e. Innis achitti
daasii tokko ijaarratee gaaddisa isaa jala taa'ee waan magaalattiin ta'uuf jirtu arguuf
eege. 6 WAAQAYYO Waaqni biqiltuu qopheessee akka inni Yoonaasiin olitti guddatee
mataa isaa irra gaaddisa buusee akka gaddi itti qabbanaa'u godhe; Yoonaasis sababii
biqiltuu sanaatiif baay'ee gammade. 7 Borumtaa bariis Waaqni biqiltuun sun akka
goguuf raammoo isa nyaatu itti erge. 8 Yeroo biiftuun baatettis Waaqni bubbee ba'a
biiftuu ho'aa tokko erge; aduunis akka inni gaggabuuf mataa Yoonaasitti baate. Innis
du'uu barbaadee, "Jiraachuu mannaa du'uu naaf wayya" jedhe.
9 Waaqni garuu, "Ati waa'ee biqiltuu sanaatiif aaruun kee sirriidhaa?" jedheen.
Yoonaasis, "Eeyyee. Ani hamma du'aatti utuun aare iyyuu nan barbaada" jedhe.
10 WAAQAYYO garuu akkana jedhe; "Ati yoo biqiltuu kana eeguu yookaan akka inni
guddatu gochuu baatte illee waa'ee isaa yaaddofteerta. Biqiltuun kun halkanuma
tokkoon guddatee halkanuma tokkoon du'e. 11 Nanawween garuu namoota bitaa
fi mirga isaanii iyyuu gargar baasanii hin beekne kuma dhibba tokkoo fi kuma
digdamaa fi loon hedduu qabdi. Ani magaalaa guddoo akkasiitiif yaaduu hin qabuu
ree?"

# Raajii Miikiyaas

1 Bara Yootaam, Aahaazii fi Hisqiyaas mootota Yihuudaa turan keessa dubbiin
WAAQAYYOO gara Miikiyaas namicha Mooresheet dhufe; kunis mul'ata inni waa'ee
Samaariyaatii fi waa'ee Yerusaalem argee dha.

2 Yaa namoota, isin hundinuu dhaga'aa;
lafaa fi wantoonni ishee irra jiraattan hundinuu dhaggeeffadhaa;
WAAQAYYO Gooftichi,
Gooftaan mana qulqullummaa isaa qulqulluu sana keessaa
dhugaa isinitti ba'a.

*Murtii Samaariyaa fi Yerusaalemin Eeggatu*

3 Kunoo! WAAQAYYO iddoo jireenya isaatii dhufaa jira;
inni gad dhufee iddoo ol ka'aa lafaa irra ni ejjeta.
4 Akkuma gagaa fuula ibiddaa dura jiruu,
akkuma bishaan tabba irraa gad yaa'uu
tulluuwwan isa jalatti ni baqu;
sululawwanis gargar baqaqu.
5 Wanni kun hundi sababii dogoggora Yaaqoobiif,
sababii cubbuu mana Israa'eliif ta'e.
Dogoggorri Yaaqoob maali?
Samaariyaa mitii?
Iddoon sagadaa Yihuudaa maali?
Yerusaalem mitii?

6 "Kanaafuu ani Samaariyaa tuullaa diigamaa,
lafa wayinii itti dhaabbatan nan godha.
Ani dhagaawwan ishee sululatti naqee,
hundee ishee qullaa nan hambisa.
7 Waaqonni ishee tolfamoon hundinuu ni hurreeffamu;
kennaawwan mana qulqullummaa ishee hundinuu ibiddaan gubamu;
ani fakkii ishee hunda nan barbadeessa.
Isheen gatii sagaagaltootaa irraa kennaa ishee walitti waan qabatteef,
kennaan sun ammas gatii sagaagaltootaa ta'ee ni deebi'a."

*Boo'uu fi Gadduu*

8 Sababii waan kanaatiif ani boo'ee nan wawwaadha;
ani miilla duwwaa fi qullaa nan deema.
Ani akkuma waangoo iyyee,
akkuma urunguu nan aada.
9 Madaan ishee waan hin fayyineef,
Yihuudaattis darbeera.
Karra saba koo dura ga'eera;
Yerusaalemittis dhufeera.
10 Isin waan kana Gaati keessatti hin dubbatinaa;
gonkumaa hin boo'inaa.
Beet Le'afraatti,

awwaara keessa gangaladhaa.
11 Isin warri Shaafiir keessa jiraattan,
qullaa fi qaaniidhaan darbaa.
Warri Zanaan keessa jiraatan,
gad hin ba'an.
Beet Eezel boo'icha irra jirti;
eegumsi ishee isin irraa fuudhameera.
12 Sababii balaan WAAQAYYO biraa dhufee
karra Yerusaalem iyyuu ga'eef,
warri Maaroot keessa jiraatan
gargaarsa argachuuf wixxirfatu.
13 Ati Laakkiish keessa kan jiraattu,
fardeen gaariitti hidhadhu.
Ati Intala Xiyooniif
jalqaba cubbuu ti;
dogoggorri Israa'el
si'i keessatti argamaatii.
14 Kanaafuu ati Mooresheet Gaatiif
kennaa kennita.
Manneen Akziib mootota Israa'eliif
gowwoomsitoota ta'u.
15 Ani warra Maareeshaa keessa jiraattanitti
mo'ataa tokko nan fida.
Inni ulfina Israa'el ta'e
gara Adulaam ni dhufa.
16 Sababii gadda ijoollee itti gammadduutiif jedhii
mataa kee haaddadhu;
akkuma goggocoroo mataa kee moleeffadhu;
isaan boojuudhaan sirraa fudhatamuutii.

# 2

*Karoora Namaatii fi Karoora Waaqaa*

1 Warra daba karoorfatan
kanneen siree isaanii irra
ciisanii hammina yaadaniif wayyoo!
Sababii waan kana hojjechuun humna isaanii jala jiruuf
isaan ifa bariitiin ka'anii waan sana hojjetu.
2 Isaan lafa qotiisaa kajeelanii qabatu;
manneenis akkasuma kajeelanii fudhatu.
Isaan gowwoomsaadhaan mana namaa,
dhaala isaas ni fudhatu.
3 Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha;
“Kunoo ani balaa isin jalaa ba'uu hin dandeenye tokko
saba kanatti fiduuf karoorfadheen jira.
Isin si'achi of tuulummaadhaan jiraachuu hin dandeessan;
yeroon kun yeroo rakkinaa ta'aatii.
4 Bara sana keessa namoonni isinitti ga'isu;
akkana jedhaniis faaruu boo'ichaa kanaan isinitti qoosu;
‘Nu guutumaan guutuutti barbadoofneerra;
qabeenyi saba kootiis gargar qooddatameera.
Inni narraa fudhata!

Lafa qotiisaa keenya warra nu mo’ataniif kenna.’ ”

5 Kanaafuu ati nama ixaadhaan lafa qoodu tokko illee
waldaa WAAQAYYOO keessaa hin qabaattu.

*Raajota Sobaa*

6 Raajonni isaanii, “Isin raajii hin dubbatinaa;
waa’ee waan kanaa raajii hin dubbatinaa;
salphinni nutti hin dhufu” jedhu.
7 Yaa mana Yaaqoob, “Wanni kun akkana jedhamuu qabaa?
Hafuurri WAAQAYYOO obsa hin qabuu?
Inni waan akkasii ni hojjetaa?”

“Nama karaan isaa qajeelaa ta’eef
dubbiin koo waan gaarii hin hojjetuu?
8 Sabni koo akka diinaatti ka’eera.
Isin namoota yaaddoo malee achiin darban
kanneen duulaa galaa jiran irraa uffata baafattu.
9 Isin dubartoota saba kootii
manneen isaanii babbareedoo keessaa ariitu.
Eebba koos bara baraan
ijoollee isaanii irraa fudhattu.
10 Ka’aatii asii deemaa!
Iddoon kun lafa boqonnaa keessanii miti;
isheen xurooftee diigamtee baddeerti.
11 Namni sobaa fi gowwoomsaan tokko yoo dhufee,
‘Ani waa’ee daadhii wayiniitii fi
dhugaatii cimaa raajii siif nan dubbadha’ jedhe;
inni raajii saba kanaa ta’a!

*Furamni Waadaa Galame*

12 “Yaa Yaaqoob, ani dhugumaan
isin hunda walitti nan qaba;
ani hambaa Israa’el walitti nan fida.
Ani akkuma hoolota gola keessaatti,
akkuma bushaayee lafa dheedaa jiraniitti walitti isaan nan fida;
lafti sunis tuuta namaatiin guutamti.
13 Inni cabsee karaa baasu fuula isaanii dura deema;
isaan cabsanii karraan ba’u.
Mootiin isaanii isaan dura ba’a;
WAAQAYYO fuula isaanii dura deema.”

# 3

*Hooggantoonnii fi Raajonni Balaaleffataman*

1 Ergasii ani akkanan jedhe;
“Isin hooggantoonni Yaaqoob,
bulchitoonni mana Israa’el mee dhaggeeffadhaa.
Isin murtii qajeelaa beekuu hin qabdanii?
2 Isin warri waan gaarii jibbitanii waan hamaa jaallattan,
warri saba koo irraa gogaa,
lafee isaanii irraa immoo foon baaftan,
3 warri foon saba koo nyaattan,

kanneen gogaa isaanii irraa qunciftanii
lafee isaanii caccabsitan,
isin warri akka foon eeleetti waadamuutii fi
okkoteetti affeelamuu isaan ciccirtan
murtii qajeelaa beekuu hin qabdanii?”

4 Ergasii isaan WAAQAYYOTTI iyyatu;
inni garuu deebii hin kennuuf.
Yeroo sanatti inni sababii cubbuu
isaan hojjetaniitiif fuula isaa isaan duraa ni dhokfata.
5 WAAQAYYO akkana jedha:
“Waa’ee raajota
saba koo karaa irraa jal’isanii,
yoo namni tokko nyaata kenneef
isaan ‘Nagaa’ labsu;
yoo inni akkas gochuu baate immoo
lola isatti kaasuuf qophaa’u.
6 Kanaafuu utuu isin mul’ata hin argin halkan,
utuu isin hooda hin dubbatin immoo dukkanni isinitti dhufa.
Aduun raajotatti dhiiti;
guyyaanis isaanitti dukkanaa’a.
7 Ilaaltonni ni qaana’u;
warri hooda dubbatanis ni salphifamu.
Sababii deebiin tokko iyyuu Waaqa biraa hin dhufneef
isaan hundi fuula haguuggatu.”

8 Ani garuu Yaaqoobitti balleessaa isaa,
Israa’elittis cubbuu isaa himuuf
humnaan guutameera;
Hafuura WAAQAYYOOTIIN
murtii qajeelaa fi jabinaan guutameera.
9 Isin hooggantoonni mana Yaaqoob
bulchitoonni mana Israa’el
warri murtii qajeelaa tuffattanii
waan sirrii ta’e hunda jal’iftan waan kana dhaga’aa;
10 warri dhiiga dhangalaasuudhaan Xiyoonin,
hamminaan immoo Yerusaalemin ijaartan waan kana dhaga’aa.
11 Hooggantoonni ishee matta’aa fudhatanii murtii kennu;
luboonni ishee gatiidhaan barsiisu;
raajonni ishees maallaqa fudhatanii hooda dubbatu.
Ta’us isaan WAAQAYYOTTI irkatanii,
“WAAQAYYO gidduu keenya jira mitii?
Balaan tokko iyyuu nutti hin dhufu” jedhu.
12 Kanaafuu sababii keessaniif,
Xiyoon akkuma lafa qotiisaatti qotamti;
Yerusaalemis tuullaa waan diigamee taati;
gaarri mana qulqullummaas tabba daggalaan liqimfame ta’a.

# 4

*Tulluu WAAQAYYOO*
*4:1-3 kwf – Isa 2:1-4*

1 Bara dhumaa keessa
tulluun mana qulqullummaa WAAQAYYOO
tulluuwwan hunda keessaa ol dheeratee dhaabata;
inni gaarran caalaa ol ol jedha;
namoonnis itti yaa'u.
2 Saboonni baay'een dhufanii akkana jedhu;
"Kottaa gara tulluu WAAQAYYOO,
gara mana Waaqa Yaaqoob ol baanaa.
Inni akka nu daandii isaa irra deemnuuf
karaa isaa nu barsiisa."
Seerri Xiyoon keessaa,
dubbiin WAAQAYYOO immoo Yerusaalem keessaa dhufa.
3 Inni namoota hedduu gidduutti murtii kennee
saboota jajjaboo gargar fagoo jiranis walitti araarsa.
Isaan goraadee isaanii tumanii maarashaa,
eeboo isaanii illee haamtuu tolfatu.
Sabni tokko saba biraatti goraadee hin luqqifatu
yookaan waraanaaf jedhanii si'achi nama hin leenjisan.
4 Namni hundi muka wayinii isaatii fi
muka harbuu isaa jala taa'a;
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda'u dubbateeraatii
namni isaan sodaachisu tokko iyyuu hin jiru.
5 Saboonni hundinuu
maqaa waaqota isaaniitiin deddeebi'u;
nu immoo bara baraa hamma bara baraatti
maqaa WAAQAYYO Waaqa keenyaatiin deddeebina.

### *Karoora WAAQAYYOO*

6 WAAQAYYO akkana jedha;
"Ani bara sana naafa walittin qaba;
warra booji'amanii fi
warra ani gaddisiises walittin qaba.
7 Ani warra naafa hambaa,
warra ari'ame immoo saba jabaa nan godha.
WAAQAYYO guyyaa sanaa jalqabee
hamma bara baraatti Tulluu Xiyoon irratti bulchaa isaanii ta'a.
8 Yaa gamoo eegumsa bushaayee,
yaa da'oo Intala Xiyoon,
ol aantummaan durii siif ni deebifama;
mootummaan Intala Yerusaalem ni dhufa."

9 Ati amma maaliif akkana iyyitee boossa?
Ati mootii hin qabduu?
Wanni ati akka dubartii ciniinsuun qabee miixattuuf
gorsaan kee badeetii?
10 Yaa Intala Xiyoon,
akkuma dubartii ciniinsuun qabeetti aadi;
ati amma bakkee keessa qubachuuf
magaalaa keessaa ba'uu qabdaatii.
Ati Baabilon dhaqxa;
achitti ni baraaramta.
WAAQAYYO achitti
harka diina keetii keessaa si fura.

11 Amma garuu saboonni hedduun si marsaniiru.
Isaanis, “Isheen haa xurooftu;
iji keenya xiyyeeffatee
Xiyoonin haa ilaalu!” jedhu.
12 Isaan garuu yaada WAAQAYYOO hin beekan;
isaan karoora isaa kan inni akkuma bissii
oobdiitti walitti qabe sana hin hubatan.

13 “Yaa Intala Xiyoon ka’iitii midhaan dha’i;
ani gaanfa sibiilaa siif nan kennaatii;
ani kottee naasii siif nan kenna;
atis saboota baay’ee caccabsita.”
Ati horii isaan karaa hamaadhaan argatan WAAQAYYOOF kennita;
qabeenya isaaniis Gooftaa lafa hundaatiif kennita.

# 5

*Bulchaa Beetlihemii Dhufu*

1 Yaa magaalaa raayyaa waraanaa, raayyaa kee hiriirsi;
nu marfamneerraatii.
Isaan uleedhaan
maddii bulchaa Israa’el dha’u.
2 “Garuu yaa Beetlihem Efraataa,
ati yoo balbala Yihuudaa keessaa xinnoo taate iyyuu,
kan bulchaa Israa’el ta’u,
kan jiraachuun isaa durumaa,
kan bara duriitii jalqabee ture tokko
si keessaa ba’ee naaf dhufa.”

3 Kanaafuu Israa’el
hamma isheen ciniinsifachaa jirtu deessee
obboloonni isaa warri hafan
Israa’elootatti makamuuf deebi’anitti kophaa hafti.

4 Inni jabina WAAQAYYOOTIIN
surraa maqaa WAAQAYYO, Waaqa isaatiin
dhaabatee bushaayee isaa tikfata.
Yeroo sanatti surraan isaa
waan daarii lafaa ga’uuf isaan nagaadhaan jiraatu.

5 Inni nagaa keenya ta’a;
yeroo warri Asoor biyya keenya weeraranii
da’annoo keenya keessa ba’anitti
nu tiksoota torbaa fi
ajajjuuwwan saddeet itti kakaasna.
6 Isaan biyya Asoor goraadeedhaan
biyya Naamruudis goraadee luqqifameen bulchu.
Yeroo warri Asoor biyya keenya weeraranii
daarii keenya keessa ba’anitti,
inni warra Asoor sana jalaa nu baasa.

7 Hambaan Yaaqoob
namoota hedduu gidduutti

akkuma fixeensa WAAQAYYO biraa dhufuu,
akkuma tiifuu marga irraa
kan nama hin eegnee
yookaan ilmaan namaa hin eeggannee ta'a.
8 Hambaan Yaaqoob saboota gidduutti,
uummata hedduu gidduuttis,
akkuma leenca bineensota bosonaa gidduu jiruu,
akkuma leenca saafela bushaayee gidduu jiru
kan irra ejjetee isaan cicciruutii fi
kan namni tokko iyyuu harkaa buusuu hin dandeenyee ta'a.
9 Harki kee mo'annaadhaan diinota keetti ka'a;
amajaajonni kee hundinuu ni barbadeeffamu.
10 WAAQAYYO akkana jedha;
"Gaafas ani fardeen keessan gidduu keessanii nan balleessa;
gaariiwwan keessan kan waraanaas nan barbadeessa.
11 Ani magaalaawwan biyya keessanii nan barbadeessa;
da'annoowwan keessan hundas nan diiga.
12 Ani falfaltoota keessan nan balleessa;
isinis deebitanii hin mortan.
13 Ani fakkiiwwan kee soofamoo fi utubaawwan waaqeffannaa keetii
gidduu keetii nan balleessa;
ati si'achi gad jettee
hojii harka keetiitiif hin sagaddu.
14 Ani siidaa Aasheeraa gidduu keetii buqqisee
magaalaawwan kees nan barbadeessa.
15 Ani saboota naaf hin ajajamin irratti
aarii fi dheekkamsaan haaloo nan ba'a."

# 6

*WAAQAYYO Israa'el Irraa Dubbii Qaba*

1 Waan WAAQAYYO jedhu dhaggeeffadhaa:
"Ol kakka'aatii fuula tulluuwwanii duratti dubbii keessan dhi'eeffadhaa;
gaarranis waan isin jettan haa dhaga'an.

2 "Yaa tulluuwwan himata WAAQAYYOO dhaga'aa;
hundeewwan lafaa kanneen bara baraa isinis dhaggeeffadhaa.
WAAQAYYO saba isaa irraa dubbii qabaatii;
inni Israa'el wajjin falmii qaba.

3 "Yaa saba ko, ani maalan si godhe?
Ani maaliinan si dadhabsiise? Mee deebii naaf kenni.
4 Ani biyya Gibxii sin baasee
biyya garbummaa keessaa sin fure.
Ani akka inni si qajeelchuuf Musee,
akkasumas Aroonii fi Miiriyaamin siifan erge.
5 Yaa saba ko, mee gorsa Baalaaq mootiin Mo'aab gaafatee fi
deebii Bala'aam ilmi Be'oor kenneef yaadadhu.
Ati akka hojii qajeelummaa WAAQAYYOO beektuuf
karaa ati Shixiimii hamma Gilgaalitti deemte sana yaadadhu."

6 Ani maaliinan fuula WAAQAYYOO dura dhufee

fuula Waaqa ol gubbaa jiruu duratti sagada?
Ani aarsaa gubamuun,
jabbii waggaa tokkootiin fuula isaa duratti dhi’aadhuu?
7 WAAQAYYO korbeeyyii hoolaa kuma hedduutti,
zayitii laga kuma kudhaniitti ni gammadaa?
Ani ilma koo hangafa, sababii yakka kootiitiif,
sababii cubbuu lubbuu kootiitiifis dhala garaa koo aarsaa dhi’eessuu?
8 Yaa nama, inni waan gaarii si argisiiseera.
WAAQAYYO maal sirraa barbaada?
Murtii qajeelaa kennuu fi araara jaallachuu,
akka ati gad of qabdee Waaqa kee wajjin deemtu
sirraa barbaada mitii?

*Yakkaa fi Adabamuu Israa’el*

9 Isin dhaggeeffadhaa! WAAQAYYO akkana jedhee magaalattii waama:
Maqaa kee sodaachuun ogummaa dha;
“Ulee fi Isa ulee sana filate qalbeeffadhaa.
10 Yaa mana hamaa, ani qabeenya isin dabaan argattanii fi
madaalii sobaa abaaramaa sana irraanfadhaa?
11 Ani nama madaallii sobaatiin hojjetuu fi
kan madaalii sobaa korojootti baatu akkasumatti dhiisaa?
12 Sooreyyiin ishee jal’oota;
uummanni ishee sobdoota;
arrabni isaaniis gowwoomsaa dubbata.
13 Kanaafuu ani sababii cubbuu keessaniitiif isin diigee,
isin balleessuu jalqabeera.
14 Ati inuma nyaatta; garuu hin quuftu;
garaan kee amma illee duwwaa dha.
Ati ni kaa’atta; garuu homaa siif hin kuufamu;
waan ati kuufattu sana ani goraadeetti kennaatii.
15 Ati ni facaafatta; garuu hin haammattu;
ejersa ni cuunfatta; garuu zayitii isaa hin dibattu;
ija wayinii ni cuunfatta; garuu daadhii wayinii hin dhugdu.
16 Ati sirna Omriitii fi
hojii mana Ahaab hunda jabeessiteerta;
gorsa isaaniis duukaa buuteerta.
Kanaafuu ani si balleessee,
uummata kee nan salphisa;
isin tuffii sabootaa ni baattu.”

# 7

*Dhiphachuu Israa’el*

1 Anaaf wayyoo!
Ani akkuma nama yeroo qarmii bonaa funaananitti
wayinii walitti qabu tokkoo ta’eera;
hurbuun wayinii kan nyaatamu tokko iyyuu hin jiru;
iji harbuu jalqabaa kan ani dharra’u tokko iyyuu hin jiru.
2 Namni gaariin lafa irraa badeera;
namni qajeelaan tokko iyyuu hin hafne.
Namoonni hundinuu dhiiga
dhangalaasuuf riphanii eeggatu;

tokkoon tokkoon namaa
kiyyoodhaan obboleessa isaa eeggata.
3 Harki lachuu waan hamaa hojjechuu barateera;
bulchaan kennaa barbaada;
abbaan murtiis matta'aa fudhata;
namni humna qabu waanuma fedhe dubbata;
hundi isaanii walii wajjin malatu.
4 Kan isaan hunda caalaa gaarii ta'e akka sokorruu ti;
inni akka malee qajeelaan immoo dallaa qoraattii caala.
Guyyaan eegdota keetii,
guyyaan itti Waaqni si ilaalu dhufeera.
Amma yeroo itti isaan joonja'anii dha.
5 Ollaa hin amanatin;
michuus hin abdatin.
Ishee hammattee ciiftu biratti iyyuu
arraba kee eeggadhu.
6 Ilmi abbaa isaa tuffata;
intalli haadha isheetti,
niitiin ilmaas amaatii isheetti kaati;
diinonni namaa miseensotuma mana isaa ta'uutii.

7 Ani garuu abdiidhaan WAAQAYYOON nan eeggadha;
fayyisaa koo Waaqa nan eeggadha;
Waaqni koo na dhaga'a.

### *Israa'el ni Kaati*

8 Yaa diina koo natti hin gammadin!
Ani yoon kufe iyyuu nan ka'a.
Ani dukkana keessa taa'u iyyuu
WAAQAYYO ifa naaf ta'a.
9 Ani sababiin cubbuu isatti hojjedheef,
hamma inni dubbii koo ilaalee naaf murteessutti
dheekkamsa Waaqayyoo nan baadha.
Inni ifatti na baasa;
anis qajeelummaa isaa nan arga.
10 Ergasii diinni koo isheen,
"WAAQAYYO Waaqni kee eessa jira?" naan jette sun
waan kana argitee qaaniin haguugamti.
Iji koo kufaatii ishee ni arga;
Isheen amma iyyuu miilla jalatti
akkuma dhoqqee daandii irraatti dhidhiitamti.

11 Guyyaan itti dallaan kee ijaaramu,
guyyaan itti daangaan kee bal'ifamu tokko ni dhufa.
12 Gaafas namoonni
Asoorii fi magaalaawwan Gibxi,
Gibxii hamma Efraaxiisitti iyyuu,
galaanaa hamma galaanaatti,
tulluudhaa hamma tulluutti jiraatan gara kee ni dhufu.
13 Sababii jiraattota isheetii fi
sababii waan isaan hojjetaniitiif lafti ni onti.

### *Kadhannaa fi Galata*

14 Uummata kee, bushaayee dhaala keetii
kanneen ofumaan bosona keessa,
lafa dheedaa gabbataa irra jiraatan
ulee keetiin tikfadhu.
Isaan akkuma bara duriitti
Baashaanii fi Gili’aad keessa haa bobba’an.

15 “Ani akkuma yeroo ati Gibxii baatee dhufte sanaa
dinqii koo isaan nan argisiisa.”

16 Saboonni arganii ni qaana’u;
humna ofii hunda iyyuu ni dhabu.
Isaan afaan isaanii qabatu;
gurri isaaniis ni duuda.
17 Isaan akkuma bofaa,
akkuma uumamawwan lafa irra loo’anii biyyoo arraabu.
Isaan hollachaa holqa keessaa ba’anii dhufu;
Isaan WAAQAYYO Waaqa keenya sodaachuudhaan
deebi’anii fuula kee dura sodaadhaan dhaabatu.
18 Waaqni akka keetii kan cubbuu namaa bira darbee
balleessaa hambaa dhaala isaa dhiisuuf eenyu?
Ati araara gochuutti gammadda malee
bara baraan hin dheekkamtu.
19 Ati deebitee garaa nuu laafta;
cubbuu keenya miilla kee jalatti dhidhiittee
balleessaa keenya hundas tuujuba galaanaatti
gad darbatta.
20 Ati akkuma bara durii
abbootii keenyaaf kakatte sana
Yaaqoobiif amanamaa taata;
Abrahaamittis jaalala ni argisiifta.

# Raajii
# Naahoom

1 Raajii waa'ee Nanawwee dubbatame. Kitaaba mul'ata Naahoom Elqooshicha.

*Dheekkamsa WAAQAYYOO Nanawweetti Dheekkame*

2 WAAQAYYO Waaqa hinaafuu fi Waaqa haaloo ba'uu dha;
WAAQAYYO haaloo ni ba'a; dheekkamsaanis guutameera.
WAAQAYYO diinota isaa haaloo ni ba'a;
dheekkamsa isaas amajaajota isaatiif ni kuusa.
3 WAAQAYYO dheekkamuuf hin jarjaru; humni isaa immoo guddaa dha;
WAAQAYYO nama balleessaa qabu utuu hin adabin hin dhiisu.
Bubbee hamaa fi dha'aa galaanaa keessaas karaa qaba;
duumessi immoo awwaara miilla isaa ti.
4 Inni galaanatti dheekkamee gogsa;
akka lagni hundinuu gogu godha.
Baashaanii fi Qarmeloos ni coollagu;
daraaraa Libaanoonis ni harca'a.
5 Fuula isaa duratti tulluuwwan ni kirkiru;
gaarranis baqanii badu.
Iddoo inni jirutti lafti ni hollatti;
addunyaa fi wanni addunyaa irra jiraatu hundi ni hollatu.
6 Eenyutu dheekkamsa isaa dura dhaabachuu danda'a?
Eenyutu dheekkamsa isaa sodaachisaa sana obsuu danda'a?
Dheekkamsi isaa akkuma ibiddaa dhangala'a;
fuula isaa duratti kattaawwan ni burkutaa'u.

7 WAAQAYYO gaarii dha;
yeroo rakkinaattis da'oo dha.
Inni warra isa amanatan ni beeka;
8 Garuu inni lolaa jabaadhaan
Nanawwee ni balleessa;
amajaajota isaas ari'ee dukkanatti galcha.

9 Wanni isin WAAQAYYOOTTI yaaddan maali?
inni guutumaan guutuutti ni balleessa;
rakkoonis lammata hin dhufu.
10 Isaan qoraattii keessatti xaxamanii
daadhii wayinii isaaniitiin machaa'u;
akkuma cidii gogeetti gubatanii dhumu.
11 Yaa Nanawwee,
namni WAAQAYYOTTI hammina malatee
waan hamaa karoorfatu si keessaa argameera.
12 WAAQAYYO akkana jedha:
"Isaan jabinaa fi baay'ina yoo qabaatan iyyuu
isaan ni barbadeeffamu; ni badus.
Yaa Yihuudaa, ani yoon duraan si miidhee
jiraadhe iyyuu, si'achi si hin miidhu.
13 Ani amma waanjoo isaanii gurmuu keessan irraa nan cabsa;

hudhaa kees sirraa nan kuta.”

14 Yaa Nanawwee, WAAQAYYO akkana jedhee waa’ee kee ajaja kennee jira:
“Ati sanyii maqaan kee ittiin waamamu hin qabaattu.
Ani fakkiiwwan soofamanii fi waaqota tolfamoo baqfamanii tolfaman
kanneen galmawwan waaqota keetii keessa jiran nan barbadeessa.
Waan ati akka malee balfamaa taateef
ani awwaala siif nan qopheessa.”

15 Kunoo, miilli nama oduu gaarii fidu,
kan nagaa labsu tokkoo tulluuwwan irra jira!
Yaa Yihuudaa, ayyaanota kee ayyaaneffadhu;
wareega kees baafadhu.
Si’achi hamaan si hin weeraru;
inni guutumaan guutuutti ni barbadeeffama.

# 2

*Kufaatii Nanawwee*

1 Yaa Nanawwee, namni si lolu sitti dhufeera.
Da’oo eeggadhu;
karaa ilaalladhu.
Mudhii kee hidhadhu;
humna kee hunda walitti qabadhu!

2 Yoo balleessitoonni isaan onsanii
mukkeen wayinii isaanii barbadeessan iyyuu,
WAAQAYYO akkuma ulfina Israa’el deebise sana
ulfina Yaaqoobis iddootti ni deebisa.

3 Gaachanawwan loltoota isaa diddiimoo dha;
gootonnis uffata bildiimaa uffataniiru.
Guyyaa isaan itti qopheeffaman sana,
sibiilli gaarii lolaa irra jiru ni calaqqisa;
eeboon gaattiraa isaaniis ni mirmirfama.
4 Gaariiwwan lolaa karaa irra dadarbatamu;
oobdiiwwan keessas asii fi achi gulufu.
Isaan guca boba’u fakkaatu;
akkuma bakakkaas ni darbatamu.

5 Inni gootota isaa ni yaadata;
isaan garuu karaatti gufatu.
Isaan gara dallaa magaalattiitti ariifatu;
da’oonis qopheeffameefii jira.
6 Balballi lageenii banamaa dha;
masaraan mootummaas ni jiga.
7 Magaalattiin qullaatti hambaa
akka booji’amtu murteeffameera.
Xomboreewwan ishee
qoma isaanii rurrukutanii akka gugee boo’u.
8 Nanawween akkuma haroo ti;
bishaan ishees keessaa yaa’ee dhuma.
Isaanis, “Dhaabadhaa! Dhaabadhaa!” jedhanii iyyu;

garuu namni tokko iyyuu dugda duubatti hin deebi’u.
9 Meetii saamaa!
Warqee saamaa!
Maddi ishee, badhaadhummaan
kuusaa qabeenya ishee hundaas dhuma hin qabu!
10 Isheen duwwaa, qullaa fi ona taateerti!
Lapheen baqeera; jilbi laafeera;
dhagni hollateera; fuulli hundis gurraacha’eera.

11 Holqi leencotaa,
iddoon isaan itti ilmaan isaanii sooran,
iddoon leenci kormaa fi dhalaan keessa yaa’an,
saafelli isaanis sodaa malee nagaadhaan jiraatan eessa?
12 Leenci waan ilmaan isaatiif ga’u ajjeefate;
leenca dhalaa isaatiifis waa hudhee ajjeese;
boolla isaa waan adamseen,
holqa isaa immoo gumaa fooniitiin guuttate.

13 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha;
“Ani sitti ka’eera;
ani gaariiwwan kee kanneen waraanaa gubee daaraa nan godha;
goraadeen leenca kee saafela ni fixa.
Ani waan ati adamsattu tokko illee
lafa irratti siif hin hambisu.
Sagaleen ergamoota keetii
lammata hin dhaga’amu.”

# 3

*Nanawweef Wayyoo*

1 Magaalattii dhiigaatiif,
kan sobaan guutamteef,
kan saamichaan guutamteef,
kan warri hammina hojjetan keessaa
hin dhabamne sanaaf wayyoo!
2 Iyyi qaccee,
kakaksuun gommaa,
gulufuun fardaa,
didichuun gaarii lolaa ni dhaga’ama!
3 Abbaan fardaa ni gulufa;
goraadeen ni balaqqisa;
eeboon ni calaqqisa!
Balaan hedduun nama irra ga’eera;
namni baay’een du’eera;
reeffi lakkoobsa hin qabu;
namoonnis reeffa isaaniitti gufatu;
4 kun hundi sababii baay’ina sagaagalummaa sagaagaltuu,
giiftii falfaltootaa,
kan sagaagaltummaa isheetiin saboota,
tolcha isheetiin immoo uummata garboomsite sanaatiin ta’e.

5 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha:

“Ani sitti ka’een jira.
Ani uffata kee fuula keetti ol soqola.
Ani sabootatti qullaa kee,
mootummootatti immoo qaanii kee nan mul’isa.
6 Ani xuriidhaan sin faala;
akka malee sin tuffadha;
waan kolfaa illee sin godha.
7 Namni si argu hundi sirraa baqatee,
‘Nanawween baduutti jirti; eenyutu boo’aaf?’ siin jedha.
Ani nama si jajjabeessu tokko illee eessaa argadha?”

8 Ati, Noo’i Amoon
biyya laga Abbayyaa irraa
kan bishaaniin marfamte sana caaltaa?
Lagni da’oo ishee ti;
bishaanis dallaa ishee ti.
9 Itoophiyaa fi Gibxi jabina ishee kan dhuma hin qabnee dha;
Fuuxii fi Liibiyaan tumsitoota ishee ti.
10 Ta’us isheen booji’amtee
biyya ormaatti geeffamte.
Daa’imman ishee mataa daandii hundaa irratti
miciriqfamanii dhuman.
Namoota ishee ulfaatootti ixaa buufatanii
namoonni ishee gurguddoonni hundinuu
foncaadhaan hidhaman.
11 Atis ni machoofta; ni dhokattas;
diina jalaa ba’uufis da’oo barbaaddatta.

12 Da’oon kee hundi mukkeen harbuu
kanneen ija jalqabatti bilchaate qaban fakkaata;
yeroo mukkeen sun hurgufamanitti
iji isaanii afaan nama waa nyaatuu keessa bu’a.
13 Mee raayyaawwan kee ilaali;
isaan hundinuu dubartoota!
Karrawwan biyya keetii diinota keetiif
bal’atanii banamanii jiru;
ibiddis danqaraa isaanii gubee fixeera.

14 Utuu hin marfamin bishaan waraabbadhu;
humna hittisaa kee jajjabeeffadhu!
Suphee tolfadhu;
dhoqqee suphee dhiittadhu;
xuubii tolfadhu.
15 Achitti ibiddi si fixa;
goraadeenis si cicciree
akkuma korophisaas si barbadeessa.
Akka korophisaa hori;
akkuma hawwaannisaa baay’adhu.
16 Ati hamma isaan urjii samii caalaa
baay’atanitti daldaltoota kee baay’ifatteerta;
isaan garuu akkuma hawwaannisaa biyyatii qullaa hambisanii
ergasii barrisanii deemu.

17 Eegdonni kee akkuma hawwaannisaa ti;
qondaaltonni kees akkuma tuuta hawwaannisaa
kan guyyaa qabbanaa dallaa irra qubatuu ti;
yeroo aduun baatu garuu barrisanii badu;
namni tokko iyyuu gara isaan dhaqan hin beeku.

18 Yaa mootii Asoor tiksoonni kee ni mugu;
namoonni kee ulfaatoon boqochuuf gad ciciisaniiru.
Namoonni kee nama walitti isaan qabu dhabanii
tulluuwwan irratti bibittinnaa’aniiru.
19 Wanni tokko iyyuu madaa kee fayyisuu hin danda’u;
miidhamni kees kan du’aan si ga’uu dha.
Namni oduu waa’ee keetii dhaga’u hundinuu
kufaatii keetti harka walitti rurrukuta;
gara jabina kee kan dhuma hin qabne sanaan
eenyutu hin miidhamin?

# Raajii Anbaaqoom

1 Raajii Anbaaqoom raajichi arge.

*Guungummii Anbaaqoom*

2 Yaa WAAQAYYO, ani hamma yoomiittin gargaarsaaf
sitti iyyadha?
Ati garuu na hin dhaggeeffattu;
yookaan ani hamma yoomiitti, “Goolii!”
jedhee sitti boo’ee ati garuu na hin oolchitu?
3 Ati maaliif akka ani murtii dabe argu na goota?
Ati maaliif balleessaa namaa obsita?
Badiisnii fi gooliin fuula koo dura jiru;
lollii fi waldhabiinsi baay’ateera.
4 Kanaafuu seerri laamsha’eera;
murtiin qajeelaan dabsameera.
Akka murtiin qajeelaan jal’ifamuuf;
namoonni hamoon qajeelota marsu.

*Deebii WAAQAYYOO*

5 “Saboota hubadhaa ilaalaa;
akka malees dinqisiifadhaa.
Ani bara keessan keessa
waan isin yoo isinitti himame illee
hin amanne tokko nan hojjedha.
6 Ani warra Baabilon,
uummata gara jabeessaa fi ariifataa,
kan iddoo jireenya isaa hin ta’in qabachuuf
guutummaa lafaa keessa yaa’u sana nan kaasa.
7 Isaan saba sodaatamuu fi naasisuu dha;
isaan ofii isaaniitiifuu seera;
ulfina isaaniis ni guddifatu.
8 Fardeen isaanii qeerransa caalaa saffisu;
yeeyyii galgalaa caalaa sodaachisu.
Namoonni isaanii kanneen farda yaabbatan
ariitiidhaan gulufu;
abbootiin farda isaaniis fagoodhaa dhufu.
Isaan akkuma risaa waa nyaachuuf ariifatuu barrisu;
9 isaan hundinuu jeequmsaaf dhufu.
Tuunni isaanii akkuma bubbee gammoojjii gara fuula duraatti qajeela;
namoota hidhamanis akkuma cirrachaa walitti qaba.
10 Isaan mootota tuffatanii
bulchitootatti qoosu.
Da’annoo hundatti ni kolfu;
biyyoos tuulanii isa qabatu.
11 Ergasii namoonni yakka hojjetan kanneen humna isaanii
waaqa isaanii godhatan,
akka bubbee lafa haxaa’anii karaa isaanii itti fufu.”

*Gungummii Anbaaqoom isa Lammaffaa*

12 Yaa WAAQAYYO, ati bara baraa jalqabdee jirta mitii?
Yaa Waaqa ko, yaa Qulqullicha ko, ati gonkumaa hin duutu.
Yaa WAAQAYYO, ati akka isaan murtii kennaniif
isaan muuddeerta;
yaa Kattaa ko, ati akka isaan nama adabaniif isaan ramaddeerta.
13 Iji kee akka waan hamaa hin ilaalleef akka malee qulqulluu dha;
ati daba argitee obsaan dhiisuu hin dandeessu.
Yoos ati maaliif obsaan namoota hamoo ilaalta?
Ati maaliif yeroo namoonni hamoon
warra isaan caalaa qajeeloo ta'an liqimsanitti cal'istaa?
14 Ati namoota akka qurxummii galaana keessaa,
akka uumamawwan galaanaa kanneen bulchaa
hin qabnee gooteerta.
15 Diinni hokkoodhaan isaan hunda ol baasa;
kiyyoo isaatiinis isaan harkisa;
kiyyoo isaa keessatti walitti isaan qabata;
kanaafuu inni ni gammada; ni ililchas.
16 Inni sababii kiyyoo isaatiin bashannanee
nyaata isaa filatamaatti gammaduuf
kiyyoo isaatiif aarsaa dhi'eessa;
kiyyoo isaatiif illee ixaana aarsa.
17 Inni kiyyoo isaa keessaa garagalchuudhaan,
gara laafina malee ittuma fufee saboota balleessuu qabaa?

## 2

1 Ani iddoo koo dhaabadhee
dallaa eegumsaa irra nan tura;
mee waan inni naan jedhu arguuf
deebii ani guungummii kanaaf kennuu malu beekuuf nan ilaala.

*Deebii WAAQAYYOO*

2 Ergasii WAAQAYYO akkana jedhee deebii kenne:
"Akka namni dubbisu tokko qabatee fiiguuf,
mul'ata sana ifa godhii
gabatee irratti barreessi.
3 Mul'anni kun yeroo murtaa'e tokko eeggataatii;
inni waa'ee dhuma isaa dubbata malee hin sobu.
Yoo tures isa eegi;
inni dhugumaan ni dhufa; hin turus.

4 "Kunoo inni of bokokseera;
hawwiin isaas sirrii miti;
namni qajeelaan garuu amantii isaatiin jiraata;
5 dhugumaan inni daadhii wayiniitiin ni gowwoomfama;
of tuula; boqonnaas hin qabu.
Inni akkuma sii'ool sassata;
akka du'aas kan hin quufnee dha.
Inni saboota hunda walitti qabata;
uummata hundas booji'ee fudhata.

6 “Isaan hundi isa tuffatanii itti kolfaa,
“ ‘Nama mi’a hatame tuullatee
saamichaan of sooromsuuf wayyoo!
Wanni kun hamma yoomiitti itti fufa’
jedhanii itti hin qoosanii?
7 Warri liqii sirraa qaban akkuma tasaa sitti hin ka’anii?
Isaan ka’anii si hin hollachiisanii?
Ergasii ati harka isaanii jala galta.
8 Sababii ati saba hedduu saamteef
namoonni hafan si saamu.
Ati dhiiga namaa dhangalaafteertaatii;
ati biyyoota, magaalaawwanii fi
namoota isaan keessa jiraatan hunda balleessiteerta.

9 “Nama bu’aa hin malleen mana ijaarratu
kan badiisa jalaa ba’uuf jedhee
lafa ol ka’aa irratti iddoo jireenyaa tolfatuuf wayyoo!
10 Ati lubbuu nama baay’ee galaafachuudhaaf,
waan nama qaanessu mana keetti malattee
lubbuu keetti badiisa fidde.
11 Dhagaawwan keenyan keessaa iyyu;
demdemoon mukaas jalaa qaba.

12 “Nama dhiiga dhangalaasuudhaan magaalaa ijaaruuf,
kan yakkaan magaalaa hundeessuuf wayyoo!
13 Akka dadhabbiin namaa akkuma qoraan ibiddaa ta’e,
akka saboonnis akkasumaan of dadhabsiisan
Waaqayyoon Waan Hunda Danda’u murteesseera mitii?
14 Akkuma bishaan galaana guutu sana
lafti ulfina Waaqayyoon beekuutiin guutamtiitii.

15 “Nama qullaa dhagna ollaa isaa ilaaluuf jedhee
hamma inni machaa’utti
qalqalloo keessaa daadhii wayinii isaaf buusuuf wayyoo.
16 Ati qooda ulfinaa qaaniidhaan guutamta.
Amma dabareen kan kee ti! Akka qullaan kee mul’atuuf dhugi.
Xoofoon mirga Waaqayyoo sitti garagala;
salphinnis ulfina kee haguuga.
17 Fincilli ati Libaanoonitti hojjete si liqimsa;
horii fixuun kee si rifachiisa.
Ati dhiiga namaa dhangalaafteertaatii;
ati biyyoota, magaalaawwanii fi namoota isaan keessa jiraatan
hunda balleessiteerta.

18 “Waaqni tolfamaan ogeessa harkaatiin soofamu
yookaan fakkiin soba barsiisu faayidaa maalii qaba?
Namni isa tolchu tokko hojiidhuma harka isaa amanataatii;
inni waaqota tolfamoo dubbachuu hin dandeenye tolcha.
19 Nama mukaan, ‘Dammaqi!’
yookaan dhagaa lubbuu hin qabneen, ‘Ka’i!’ jedhuuf wayyoo.
Inni barsiisuu ni danda’aa?
Kunoo inni warqee fi meetii dibameera;

hafuurri tokko iyyuu isa keessa hin jiru.”

20 WAAQAYYO garuu mana qulqullummaa isaa
qulqulluu sana keessa jira;
lafti hundi fuula isaa duratti haa cal’istu.

# 3

## *Kadhannaa Anbaaqoom*

1 Kadhannaa Anbaaqoom raajichaa *shigiyonootiidhaan.** 
2 Yaa WAAQAYYO, ani oduu kee dhaga’eera;
yaa WAAQAYYO, ani gochawwan kee nan sodaadha.
Bara keenya keessa isaan haaromsi;
jabana keenya keessa isaan beekkamsiisi;
yeroo dheekamtutti araara yaadadhu.

3 Waaqni Teemaan irraa,
Inni Qulqullichi Tulluu Phaaraaniitii dhufe.
Ulfinni isaa samiiwwan haguuge;
galanni isaas lafa guute.
4 Miidhaginni isaa akkuma ba’iisa aduu ti;
gaanfawwan lama harka isaatii ba’u;
humni isaas achi dhokateera.
5 Fuula isaa dura dha’ichatu deeme;
golfaanis isa duukaa bu’e.
6 Inni dhaabatee lafa raase;
ilaalee akka saboonni hollatan godhe.
Tulluuwwan durii ni burkutaa’an;
gaarran bara hedduu jiraatanis ni diigaman.
Karaan isaa kan bara baraa ti.
7 Ani utuu dunkaanonni Itoophiyaa dhiphatanuu nan arge;
golgaawwan Midiyaaniis ni hollatu.

8 Yaa WAAQAYYO, ati lageenitti aartee turtee?
Burqaawwanittis dheekkamtee?
Ati yeroo fardeen keetiin guluftetti,
yeroo gaariiwwan mo’annaa kee yaabbatetti
galaanatti dheekkamtee turtee?
9 Ati iddaa kee luqqifattee
xiyya itti dhaabbatte.
Lafas lageeniin gargar baqaqsite;
10 tulluuwwan si arganii hollattan.
Dha’aawwan bishaanii achiin darban;
tuujubni ni huurse;
dambalii isaas ol kaase.

11 Sababii xiyya kee calaqqisaa fiigu sanaatii fi
sababii ifa eeboo keetii sanaatiif aduu fi
ji’i samii keessa dhaabatanii hafan.
12 Ati dheekkamsaan lafa irra marmaarte;
aariidhaanis saboota lafatti dhidhiitte.

---
* **3:1** 3:1 Shigiyootiin *gosa muuziiqaa ti.*

13 Ati saba kee furuuf,
dibamaa kee oolchuuf dhufte.
Hoogganaa biyya hamootaa ni daakte;
mataadhaa hamma miillaatti qullaa isa hambifte.
14 Yeroo loltoonni isaa nu bittinneessuuf ka'anii,
akkuma waan rakkattoota dhokatanii jiran
fixuu ga'aniitti gammadanitti,
ati eeboo ofii isaatiin mataa isaa waraante.
15 Ati fardeen keetiin bishaanota gurguddaa
hoomacheessaa galaana irra deemte.

16 Ani dhaga'een garaan koo raafame;
hidhiin koo sagalee sanaan hollate;
tortorri lafee koo seene;
miilli koos ni hollate.
Ta'us ani hamma guyyaan badiisaa
saboota nu weeraranitti dhufutti obsaan nan eeggadha.
17 Yoo mukni harbuu daraaruu baatee
iji wayinii muka wayinii irra jiraachuu baate iyyuu,
yoo mukni ejersaa ija naqachuu didee
lafti qotiisaa midhaan dhowwate iyyuu,
yoo hoolonni gola keessaa,
loonis dallaa keessaa dhabaman iyyuu,
18 ani garuu Waaqayyotti nan gammada;
Waaqa isa na fayyisutti nan gammada.

19 Waaqayyo Gooftaan jabina koo ti;
inni miilla koo akka miilla borofaa godha;
lafa ol ka'aa irras na deemsisa.
Dura bu'aa faarfannaatiif. Meeshaa koo kan ribuutiin kan faarfatame.

# Raajii
# Sefaaniyaa

1 Dubbiin WAAQAYYOO kan bara Yosiyaas ilmi Aamoon mootii Yihuudaa ture keessa
gara Sefaaniyaa ilma Kuushii, ilma Gedaaliyaas, ilma Amariyaa, ilma Hisqiyaas dhufe
kanaa dha:

### *Akeekkachiisa Waa'ee Badiisa Dhufaa Jiruu*

2 "Ani fuula lafaa irraa
waan hunda haxaa'ee nan balleessa"
jedha WAAQAYYO.
3 "Ani namaa fi horii haxaa'ee nan balleessa;
simbirroota samiitii fi qurxummii galaanaa,
waaqota tolfamoo namoota hamoo
gufachiisan haxaa'ee nan balleessa."

"Ani sanyii namaa lafa irraa nan balleessa"
jedha WAAQAYYO.
4 "Ani Yihuudaa fi warra Yerusaalem keessa
jiraatan hundatti harka koo ol nan fudhadha.
Ani hambaa Ba'aal hundaa fi
maqaa luboota waaqota tolfamoo waaqeffatanii
iddoo kanaa nan balleessa;
5 warra raayyaa samii waaqeffachuuf
qinaaxxii manaa irratti sagadan,
warra sagadanii fi WAAQAYYOON kakatan,
warra Moolekiinis kakatan,
6 warra WAAQAYYOON duukaa bu'uu dhiisanii duubatti deebi'an,
warra WAAQAYYOON hin barbaanne
yookaan gorsa isaa hin gaafanne nan balleessa."

7 Guyyaan WAAQAYYOO waan dhi'aateef
fuula WAAQAYYOO Gooftaa duratti cal'isaa.
WAAQAYYO aarsaa tokko qopheesseera;
inni warra affeere qulqulleesseera.

8 "Guyyaa aarsaa WAAQAYYOOTTI
ani qondaaltota ilmaan mootichaatii fi
warra wayyaa ormaa uffatan hunda nan adaba.
9 Ani gaafas warra buusaa irra utaalan,
kanneen galma waaqota isaanii jeequmsaa fi
gowwoomsaadhaan guutan nan adaba."

10 WAAQAYYO akkana jedha;
"Gaafas Karra Qurxummii irraa iyya,
Waltajjii Lammaffaa irraa wawwaannaa,
gaarran irraa immoo
sagalee diigama guddaatu dhaga'ama.
11 Isin warri Makteesh keessa jiraattan wawwaadhaa;

daldaltoonni keessan hundi lafa irraa haxaa’amu;
warri meetii daldalan hundinuus ni barbadaa’u.
12 Ani yeroo sana Yerusaalemin ibsaadhaan nan sakatta’a;
warra qananiidhaan jiraatan,
kanneen akka daadhii wayinii siicoo irratti hafee ta’an,
kanneen, ‘WAAQAYYO waan tolaas ta’u waan hamaa
homaa hin godhu’ jedhanii yaadan nan adaba.
13 Qabeenyi isaanii ni saamama;
manni isaanii ni ona.
Isaan mana ijaarratu;
garuu keessa hin jiraatan;
isaan biqiltuu wayinii ni dhaabbatu;
garuu daadhii wayinii hin dhugan.”

14 Guyyaan WAAQAYYOO guddichi dhi’aateera;
dhi’aatees dafee dhufaara.
Dhaga’aa! Iyyi guyyaa WAAQAYYOO hadhaa’aa dha;
goonni achitti sagalee ol fudhatee iyya.
15 Guyyaan sun guyyaa dheekkamsaa,
guyyaa dhiphinaa fi gaddaa,
guyyaa rakkinaa fi badiisaa,
guyyaa dukkanaa fi dimimmisaa,
guyyaa duumessaa fi dukkana hamaa ni ta’a;
16 magaalaawwan dallaa jabaa qabanii fi
gamoowwan ol dhedheeroo irratti
guyyaa itti malakata afuufanii fi iyya waraanaa ta’a.

17 “Sababii isaan WAAQAYYOOTTI cubbuu hojjetaniif,
ani akka isaan akkuma jaamotaatti deemaniif
uummatatti dhiphina nan fida.
Dhiigni isaanii akkuma awwaaraa,
mi’i garaa isaaniis akkuma kosii gatama.
18 Guyyaa dheekkamsa WAAQAYYOOTTI
meetiin isaanii yookaan warqeen isaanii
isaan oolchuu hin danda’u.”

Ibidda hinaaffaa isaatiin
addunyaan hundi ni barbadoofti;
warra lafa irra jiraatan hundatti
inni badiisa tasaa ni fidaatii.

# 2

*Yihuudaa fi Yerusaalem Saboota waliin itti Murteeffame*

*Yihuudaan akka Qalbii Jijjiirratuuf Akeekkachiifame*

1 Yaa saba qaanii hin qabne,
walitti qabamaa; walitti qabamaa;
2 utuu yeroon murtaa’e sun ga’ee
guyyaan sun akkuma habaqiitti isin hin haxaa’in,
utuu aariin WAAQAYYOO boba’aan sun
isinitti hin dhufin,
utuu guyyaan dheekkamsa WAAQAYYOO

isinitti hin dhufin walitti qabamaa.
3 Isin garraamonni lafaa
kanneen waan inni ajaju hojjettan hundi
WAAQAYYOON barbaaddadhaa.
Qajeelummaa barbaadaa; gad of qabiisa barbaadaa;
isin guyyaa dheekkamsa WAAQAYYOOTTI
ni golbomamtu ta'aatii.

### *Filisxeemitti*

4 Gaazaan duwwaa hafti;
Ashqaloon immoo ni onti.
Sabni Ashdood guyyuma Saafaadhaan ari'amee ba'a;
Eqroon immoo ni buqqifamti.
5 Yaa Kereetota qarqara galaanaa jiraattan,
isiniif wayyoo;
yaa Kana'aan, biyya Filisxeemotaa,
dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee sitti dhufeera;
"Ani sin barbadeessa;
namni tokko iyyuu hin hafu."
6 Biyyi qarqara galaanaa,
iddoon Kaliitonni jiraatan,
iddoo tiksoonni jiraatanii fi gola bushaayee ta'a.
7 Innis handhuuraa hambaa mana Yihuudaa ta'a;
isaan achitti lafa dheedaa argatu.
Isaan galgala galgala
mana Ashqaloon keessa ciciisu.
WAAQAYYO Waaqni isaanii isaan tiksa;
boojuu isaaniis ni deebisaaf.

### *Mo'aabii fi Amoon*

8 "Ani arrabsoo Mo'aabii fi
Qoosaa Amoonotaa,
warra saba koo arrabsanii fi
biyya isaanii doorsisan sanaa dhaga'eera.
9 Kanaafuu akkuma ani dhugumaan jiraataa ta'e sana"
jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u,
Waaqni Israa'el;
"Mo'aab dhugumaan akkuma Sodoom,
Amoononnis akka Gomoraa,
iddoo aramaatii fi boolla soogiddaa,
lafa bara baraan one ni ta'u.
Hambaan uummata kootii isaan saamu;
warri saba koo keessaa badii jalaa ba'an biyya isaanii ni dhaalu."

10 Kun gatii isaan of tuulummaa isaaniitiif argatanii dha;
isaan saba WAAQAYYOO Waan Hunda Danda'uu arrabsanii
itti qoosaniiruutii.
11 WAAQAYYO yeroo waaqota biyyattii hunda barbadeessutti,
akka malee isaan sodaachisa.
Saboonni qarqara galaana hundaa irra jiraatan,
namni biyya isaa keessa jiraatu hundinuus isa waaqeffata.

### *Itoophiyaa*

12 “Yaa warra Itoophiyaa
isinis goraadee kootiin ni gorra’amtu.”

*Asoor*

13 Inni kaabatti harka ol fudhata;
Asoorinis ni barbadeessa;
Nanawwee guutumaan guutuutti ni onsa;
akkuma gammoojjiitti gogsee hambisa.
14 Bushaayee fi loon,
uumamawwan gosa hundaa achi ciciisu.
Urunguu fi dhaddeen
utubaa ishee irra boqotu.
Sagaleen isaanii foddaawwan keessaan dhaga’ama;
diigamni balbala isaanii dura jira;
demdemoon birbirsaa hundinuu qullaa hafa.
15 Kun magaalaa of hin eegganne
kan garuu nagumaan jiraattuu dha.
Magaalaan kun,
“Anuma qofa malee kan biraa na bira hin jiru” ofiin jette.
Isheen akkam akkas ontee,
iddoo bineensi bosonaa jiraatu taate!
Namni ishee bira ba’ee darbu hundinuu ni qoosa;
harka isaas ni raasa.

# 3

*Yerusaalem*

1 Magaalaa cunqursitootaa,
finciltuu fi xurooftuu sanaaf wayyoo!
2 Isheen nama tokkoof iyyuu hin ajajamtu;
sirreeffama tokko iyyuu hin fudhattu.
Isheen Waaqayyoon hin amanattu;
Waaqa isheettis hin dhi’aattu.
3 Qondaaltonni ishee leenca aaduu dha;
bulchitoonni ishee yeeyyii galgalaa
kanneen waan tokko illee ganamaaf
hin bulfannee dha.
4 Raajonni ishee of tuultota;
isaan namoota hin amanamnee dha.
Luboonni ishee iddoo qulqulluu
xureessanii seeras cabsu.
5 Waaqayyo inni ishee keessa jiru qajeelaa dha;
inni dogoggora tokko illee hin hojjetu.
Inni ganama ganama murtii qajeelaa kenna;
guyyaa tokko iyyuu waan kana hojjechuu hin dadhabu;
jal’oonni garuu qaanii tokko iyyuu hin beekan.

6 “Ani saboota nan balleessa;
da’annoowwan isaanii diigamaniiru.
Akka namni tokko iyyuu achiin hin dabarreef
ani daandiiwwan ishee onseera.
Magaalaawwan isaanii onanii
nama malee, duwwaa hafu.

7 Ani magaalaa sanaan,
‘Ati dhugumaan na sodaatta;
sirreeffamas ni fudhatta!’ nan jedhe.
Ergasii iddoon jireenya ishee hin badu
yookaan adabbiin koo hundinuu isheetti hin dhufu.
Isaan garuu waan hojjetan hunda keessatti
daba hojjechuutti ciman.
8 Kanaafuu guyyaa ani itti dhugaa ba’u eeggadhu”
jedha WAAQAYYO;
“Ani sabootaa fi
mootummoota walitti qabee
dheekkamsa kootii fi
aarii koo sodaachisaa sana hunda
isaanitti dhangalaasuuf murteesseera.
Addunyaan guutuun ibidda
hinaaffaa kootiin gubattee barbadoofti.

9 “Ergasii ani akka hundi isaanii
maqaa WAAQAYYOO waammataniif,
akka walii galuudhaan isa tajaajilaniifis
afaan namootaa nan qulqulleessa.
10 Warri anaaf sagadan,
intallan koo kanneen bittinnaa’an
lageen Itoophiyaa gamaa kennaa naaf fidu.
11 Sababii ani warra of tuulummaa isaaniitti gammadan
magaalaa kana keessaa baasuuf,
gaafas yakka ati natti hojjette
sana hundaaf salphinni sitti hin dhufu.
Ati lammata gaara koo
qulqulluu irratti of hin tuultu.
12 Ani garuu garraamotaa fi
gad of qabeeyyii
kanneen maqaa WAAQAYYOO amanatan
si keessatti nan hambisa.
13 Hambaan Israa’el
yakka tokko illee hin hojjetan.
Isaan soba hin dubbatan
yookaan gowwoomsaan afaan isaanii keessatti hin argamu.
Isaan nyaatanii boqotu;
kan isaan sodaachisus hin jiru.”

14 Yaa Intala Xiyoon ati faarfadhu;
yaa Israa’el sagalee ol fudhadhuu iyyi!
Yaa Intala Yerusaalem gammadiitii
garaa kee guutuudhaan ililchi!
15 WAAQAYYO adaba kee sirraa fuudheera;
inni diinota kee sirraa deebiseera.
WAAQAYYO Mootiin Israa’el, si wajjin jira;
ati lammata balaa tokko illee hin sodaattu.
16 Isaan gaafas
Yerusaalemiin akkana ni jedhu;
“Yaa Xiyoon hin sodaatin;

harki kees hin laafin.
17 WAAQAYYO Waaqni kee
inni si wajjin jiru jabaa dha.
Inni baay'ee sitti gammada;
inni jaalala isaatiin si boqochiisa;
faarfannaadhaanis sitti gammada."

18 "Ani gadda ati ayyaanota murteeffamaniif gadditu
sirraa nan fuudha;
isaan boo'ichaa fi salphina sitti ta'u.
19 Ani yeroo sanatti
warra si cunqursan hunda nan adaba;
ani okkolaa nan baraara;
warra gatamanis walitti nan qaba.
Ani biyya isaan itti qaaneffaman hunda keessatti
maqaa fi ulfina isaaniifin kennaaf.
20 Ani yeroo sanatti walittin isin qaba;
yeroo sanatti ani biyya keessanitti isin nan galcha.
Ani yeroo utuma isin argitanuu
boojuu keessan deebisutti
saba lafaa hunda gidduutti
ulfinaa fi maqaa isiniifin kenna"
jedha WAAQAYYO.

# Raajii
# Haagee

*Waamicha Mana WAAQAYYOO Ijaaruuf Godhame*

1 Bara bulchiinsa Daariyoos Mootichaa keessaa waggaa lammaffaatti, guyyaa
tokkoffaa ji'a ja'affaatti, dubbiin WAAQAYYOO karaa Haagee Raajichaatiin gara ilma
She'altii'eel gara Zarubaabel bulchaa Yihuudaatii fi gara Iyyaasuu ilma Yehoozaadaaq
lubicha ol aanaa akkana jedhee dhufe:
2 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Sabni kun, 'Yeroon itti manni
WAAQAYYOO ijaaramu amma illee hin geenye' jedha."
3 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO karaa Haagee Raajichaatiin akkana jedhee dhufe:
4 "Yeroon kun yeroo isin utuu manni kun diigamee jiruu manneen keessan kanneen
miidhagfaman keessa jiraattaniidhaa?"
5 Ammas WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Yaada keessan
karaa keessan irra kaa'adhaa. 6 Isin sanyii baay'ee facaafattanii waan xinnoo
haammattaniirtu. Isin ni nyaattu; garuu hin quuftan. Ni dhugdu; garuu dheebuu hin
baatan. Wayyaa ni uffattu; garuu isinitti hin ho'u. Namni mindaa fudhatu akkuma
nama mindaa isaa korojoo tarsa'aa keessa kaa'atuu ti."
7 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Karaa keessan hubadhaa.
8 Tulluutti ol ba'aa; muka fidaa; manicha ijaaraa; anis isatti nan gammada; nan
kabajamas" jedha WAAQAYYO. 9 "Isin waan baay'ee abdattan; garuu ni xinnaate.
Isin manatti galfattan ani immoo nan afuufe. Kun maaliif ta'ee?" jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u. "Kun sababii utuu manni koo diigamee jiruu tokkoon tokkoon
keessan gara mana keessaniitti fiigdaniif. 10 Kanaafuu sababii keessaniif samiiwwan
fixeensa isaanii dhowwatan; laftis midhaan ishee dhowwatte. 11 Anis lafa qotiisaa fi
tulluuwwaniitti, midhaanii fi daadhii wayinii haaraatti, zayitii fi waan lafti kennitu
hundatti, namaa fi loonitti, hojii dadhabbii harka keessaniittis hongee waameera."

12 Zarubaabel ilmi She'altii'eel, Iyyaasuun ilmi Yehoozaadaaq lubichi ol aanaanii
fi hambaawwan uummataa hundi sagalee WAAQAYYO Waaqa isaaniitii fi ergaa
Haagee raajichaatiif ajajaman; WAAQAYYO Waaqni isaanii isa ergeeraatii. Uummannis
WAAQAYYOON sodaate.
13 Ergasii Haageen ergamaan WAAQAYYOO sun akkana jedhee ergaa WAAQAYYOO
kana sabatti hime: "Ani isin wajjinan jira" jedha WAAQAYYO. 14 Akkasiin WAAQAYYO
hafuura Zarubaabel ilma She'altii'eel bulchaa Yihuudaa, hafuura Iyyaasuu ilma
Yehoozaadaaq lubicha ol aanaatii fi hafuura hambaa uummata hundaa kakaase.
Isaanis dhufanii mana WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu, mana Waaqa isaanii
ijaaruu jalqaban; 15 kunis bara Daariyoos mootichaa keessaa waggaa lammaffaatti,
bultii digdamii afuraffaa ji'a ja'affaatti ta'e.

## 2

*Ulfina Manicha Haaraa*

1 Ji'a torbaffaa keessaa, bultii digdamii tokkoffaatti dubbiin WAAQAYYOO akkana
jedhee karaa Haagee raajichaatiin dhufe; 2 "Zarubaabel ilma She'altii'eel bulchaa
Yihuudaatti, Iyyaasuu ilma Yehoozaadaaq lubicha ol aanaattii fi hambaa uummataatti
dubbadhu. Akkanas jedhii isaan gaafadhu; 3 'Isin keessaa namni mana kana ulfina
isaa kan duraa sana argee amma iyyuu jiru eenyu? Inni amma maal isinitti fakkaata?

Waanuma faayidaa hin qabne tokko isinitti hin fakkaatuu? 4 Yaa Zarubaabel, egaa
amma jabaadhu' jedha WAAQAYYO. 'Yaa Iyyaasuu ilma Yehoozaadaaq lubicha ol
aanaa atis jabaadhu. Isinis sabni biyya kanaa hundinuu jabaadhaatii hojjedhaa'
jedha WAAQAYYO. 'Ani isin wajjinan jiraatii' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.
5 'Yeroo isin biyya Gibxii baatan sanatti, kakuun ani isin wajjin galee kanaa dha.
Hafuurri koo isin gidduu jira. Isin hin sodaatinaa.'

6 "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: 'Ani ammas yeroo gabaabaa
keessatti deebi'ee samiiwwanii fi lafa, galaanaa fi lafa goggogaa nan raasa. 7 Ani
saboota hunda nan raasa; qabeenyi sabootaa hundi ni dhufa; anis mana kana
ulfinaan nan guuta' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u. 8 'Meetiin kan koo ti;
warqeenis kan koo ti' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u. 9 'Ulfinni mana ammaa
kun ulfina mana duraa sanaa ni caala' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u. 'Anis
iddoo kanatti nagaa nan kenna' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u."

### *Qulqullummaa fi Xuraa'ummaa*

10 Waggaa lammaffaa bulchiinsa Daariyoos keessa, bultii digdamii afuraffaa
ji'a saglaffaatti, dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara Haagee raajichaa dhufe;
11 "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha; 'Waan seerri jedhu luboota
gaafadhu; 12 yoo namni tokko foon qulqulleeffamee Waaqaaf kenname fuudhee
dachaa wayyaa isaa keessatti baatee wayyaan sun buddeena yookaan ittoo, daadhii
wayinii, zayitii yookaan nyaata gosa biraa tuqe, nyaanni sun ni qulqulleeffamaa?' "

Luboonnis, "Waawuu" jedhanii deebisaniif.

13 Ergasii Haageen akkana jedhe; "Namni reeffa tuqee xuraa'e tokko yoo wantoota
kanneen keessaa tokko tuqe wanni sun ni xuraa'aa?"

Luboonni sunis, "Eeyyee, wanni sun ni xuraa'a" jedhanii deebisaniif.

14 Haageen akkana jedhe; " 'Uummanni kunii fi sabni kun fuula koo duratti
akkasuma' jedha WAAQAYYO. 'Wanni isaan hojjetan hundii fi wanni isaan achitti
dhi'eessan hundi xuraa'aa dha.
15 " 'Egaa guyyaa kanaa jalqabaatii of eeggannaadhaan qalbeeffadhaa; mana
qulqullummaa WAAQAYYOO keessatti haala utuu dhagaan tokko dhagaa kaan irra
hin kaa'amin dura ture hubadhaa. 16 Namni kam iyyuu yeroo gara tuullaa
safartuu digdamaa dhufetti safartuu kudhan qofa argate. Namni kam iyyuu
yeroo daadhii wayinii safartuu shantama waraabbachuuf gara boolla itti wayinii
cuunfanii dhaqetti safartuu digdama qofa argate. 17 Ani hojii harka keessanii
hunda waagiidhaan, awwaaroo fi cabbiidhaan nan rukute; isin garuu gara kootti
hin deebine' jedha WAAQAYYO. 18 Guyyaa kanaa jalqabaatii jechuunis guyyaa
digdamii afuraffaa ji'a saglaffaa kanaa jalqabaatii hamma guyyaa hundeen mana
qulqullummaa WAAQAYYOO buufameetti of eeggannaadhaan qalbeeffadhaa. 19 Amma
iyyuu sanyiin gombisaa keessatti hafe tokko iyyuu jiraa? Hamma ammaatti mukni
wayiniitii fi mukni harbuu, roomaanii fi mukni ejersaa ija hin naqanne.

" 'Ani guyyaa kanaa jalqabee isin nan eebbisa.' "

### *Zarubaabel Qubeelaa Chaappaa WAAQAYYOO*

20 Dubbiin WAAQAYYOO bultii digdamii afuraffaa ji'a sanaatti yeroo lammaffaa
akkana jedhee gara Haagee dhufe; 21 "Akka ani samiiwwanii fi lafa raasuuf jiru
Zarubaabel bulchaa Yihuudaatti himi. 22 Ani teessoo mootota nan garagalcha;
humna mootummoota biyya alaas nan barbadeessa. Ani gaariiwwanii fi ooftota
isaanii nan garagalcha; fardeenii fi warra fardeen yaabbatan ni kufu; tokkoon
tokkoon isaanii goraadee obboleessa isaaniitiin ni kufu.

23 " 'Guyyaa sana' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u; 'Yaa tajaajilaa koo
Zarubaabel ilma She'altii'eel, ani sin fudhadha' jedha WAAQAYYO; 'Ani waanan si

filadheef akka qubeelaa chaappaa koo sin godhadha' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u."

# Raajii Zakkaariyaas

*Gara WAAQAYYOOTTI Deebi'uu*

1 Bara Daariyoos keessa, ji'a saddeettaffaa waggaa lammaffaatti dubbiin
WAAQAYYOO akkana jedhee gara Zakkaariyaas raajicha ilma Berekiyaa, ilma Iddoo
dhufe:
2 "WAAQAYYO akka malee abbootii keessanitti aaree ture. 3 Kanaafuu akkana jedhii
sabatti himi; WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha; 'Gara kootti deebi'aa'
jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u; 'Anis gara keessanitti nan deebi'aa' jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u. 4 Isin akka abbootii keessan kanneen raajonni
durii, WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u, 'Karaa keessan hamaa fi gochawwan keessan
hamaa sana irraa deebi'aa' jedha, jedhanii itti lallaban sanaa hin ta'inaa. Isaan garuu
hin dhaggeeffatan yookaan na hin qalbeeffatan, jedha WAAQAYYO. 5 Abbootiin keessan
amma eessa jiru? Raajonnis bara baraan jiraatuu? 6 Garuu dubbiin koo fi seerri koo
kan ani tajaajiltoota koo raajota ajaje sun abbootii keessan irra hin geenyee?

"Ergasii isaan qalbii jijjiirratanii, 'WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkuma gochuuf murteesse sanatti waan karaa keenyaa fi gochawwan keenyaaf malu nutti godhe' jedhan."

*Namicha Mukkeen Kusaayee Giddduu Dhaabate*

7 Bara Daariyoos keessa, waggaa lammaffaatti, bultii afuraffaa ji'a kudha tokkoffaa,
ji'a Shebaaxi jedhamu keessa dubbiin WAAQAYYOO gara Zakkaariyaas raajichaa ilma
Berekiyaa, ilma Iddoo dhufe.

8 Ani halkan keessa mul'ataan namicha farda diimaa yaabbatu tokko fuula koo
duratti nan arge! Innis mukkeen kusaayee kanneen laga keessaa gidduu dhaabatee
ture. Dugda isaa duubaan fardeen diddiimoo, mammagaallanii fi adaadiitu ture.

9 Anis, "Yaa gooftaa ko, wantoonni kunneen maali!" jedheen gaafadhe.

Ergamaan Waaqayyoo kan natti dubbachaa tures, "Isaan maal akka ta'an ani sin argisiisa" naan jedhe.

10 Kana irratti namichi mukkeen kusaayee gidduu dhaabatee jiru sun, "Kunneen
warra akka isaan guutummaa lafaa keessa deemaniif WAAQAYYO ergee dha" jedhee
naa ibse.

11 Isaanis, "Nu lafa guutuu irra naannofnee akka lafti guutuun boqonnaa fi
nagaa qabdu argine" jedhanii ergamaa WAAQAYYOO kan mukkeen kusaayee gidduu
dhaabate sanatti himan.

12 Ergamaan WAAQAYYOOS, "Yaa WAAQAYYO Waan Hunda Dandeessu, ati
Yerusaalemii fi magaalaawwan Yihuudaa kanneen waggoota torbaatama itti aarteef
hamma yoomiitti hin araaramtu?" jedhe. 13 WAAQAYYOS dubbii gaarii fi dubbii
jajjabeessuun ergamaa Waaqayyoo kan na wajjin dubbachaa ture sanatti dubbate.

14 Ergasii ergamaan Waaqayyoo kan natti dubbachaa ture sun akkana jedhe;
"Dubbii kana labsi: WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha; 'Ani Yerusaalemii
fi Xiyooniif akka malee nan hinaafa; 15 ani garuu saboota waan nagaa qaban of
se'anitti akka malee aareera. Ani xinnuma aareen ture; isaan garuu ittuma fufanii
hamaa hojjetan.'

16 "Kanaafuu WAAQAYYO akkana jedha: 'Ani araaraan Yerusaalemitti nan deebi'a;
manni koos deebifamee ni ijaarama. Funyoon ittiin safaranis Yerusaalem irra ni
diriirfama' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.

[17] “Ammas ittuma fufiitii WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha, jedhii labsi: ‘Magaalaawwan koo deebi’anii badhaadhummaadhaan ni guutamu; WAAQAYYOS Xiyoonin ni jajjabeessa; Yerusaalemis ni filata.’ ”

### *Gaanfa Afurii fi Ogeeyyii Harkaa Afur*

[18] Ammas ol nan mil’adhe; kunoo, fuula koo dura gaanfa afurtu ture! [19] Anis, “Kun
maali?” jedheen ergamaa Waaqayyoo kan natti dubbachaa ture sana gaafadhe.

Innis, “Kunneen gaanfawwan Yihuudaa, Israa’elii fi Yerusaalemin gargar bittinneessanii dha” jedhee naaf deebise.

[20] WAAQAYYOS ergasii ogeeyyii hojii harkaa afur na argisiise. [21] Anis, “Isaan kunneen
maal hojjechuuf dhufan?” jedheen gaafadhe.

Innis akkana jedhee deebise; “Isaan kunneen gaanfawwan akka namni tokko mataa isaa ol hin qabanneef Yihuudaa bittinneessanii dha; ogeeyyiin hojii harkaa kunneen garuu isaan rifachiisuu fi gaanfawwan saboota uummata ishee bittinneessuuf gaanfawwan isaanii biyya Yihuudaatti ol fudhatan kanneenii balleessuuf dhufan.”

## 2

### *Namicha Funyoo Safaraa Qabu*

[1] Ani ol nan mil’adhe; kunoo, namichi funyoo safaraa harkatti qabate tokko fuula
koo dura ture! [2] Anis, “Ati garam deemuutti jirta?” jedheen gaafadhe.

Innis, “Ani Yerusaalemin safaree bal’inaa fi dheerina ishee beekuufan deema” jedhee naaf deebise.

[3] Ergasii ergamaan Waaqayyoo kan natti dubbachaa ture sun ka’ee deeme;
ergamaan Waaqayyoo kan biraa isa arguu dhufee [4] akkana jedheen: “Dhaqiitii
dargaggeessa sanatti akkana jedhii himi; ‘Yerusaalem sababii baay’ina namaa fi horii
ishee keessa jiraataniitiif magaalaa dallaa hin qabne taati. [5] Ani mataan koo naannoo
isheetti dallaa ibiddaa nan ta’a; ishee keessattis ulfina nan ta’a’ jedha WAAQAYYO.

[6] “Kottaa! Kottaa! Biyya kaabaa sana keessaa baqadhaa” jedha WAAQAYYO; “Ani
bubbee samii afranitti isin bittinneesseeraatii” jedha WAAQAYYO.

[7] “Yaa Xiyoon kottu! Ati kan intala Baabilon keessa jiraattu baqadhu!” [8] WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u akkana jedhaatii: “Namni si tuqu kam iyyuu argituu ija isaa
waan tuquuf, erga Inni Ulfina Qabeessi saboota si saaman sanatti na ergee booddee,
[9] akka garboonni isaanii isaan saamaniif ani dhugumaan harka koo isaanitti ol nan
kaafadha. Ergasii isin akka WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u na erge ni beektu.

[10] “Yaa Intala Xiyoon gammadii ililchi. Ani dhufee gidduu kee nan jiraadhaatii”
jedha WAAQAYYO. [11] “Bara sana saboonni hedduun gara WAAQAYYOOTTI deebi’anii
saba koo ta’u. Ani immoo gidduu kee nan jiraadha; ati akka WAAQAYYO Waan Hunda
Danda’u sitti na erge ni beekta. [12] WAAQAYYO akkuma qooda isaa kan biyya qulqulluu
keessaatti Yihuudaa ni dhaala; Yerusaaleminis deebi’ee ni filata. [13] Sababii inni
iddoo jireenya isaa qulqulluu sanaa ol ka’eef, sanyiin namaa hundi fuula WAAQAYYOO
duratti cal’isaa.”

## 3

### *Uffata Qulqulluu Luba Ol Aanaa*

[1] Innis utuu Iyyaasuun lubichi ol aanaan fuula ergamaa WAAQAYYOO dura
dhaabatee, Seexanni immoo isa himachuuf karaa harka mirga isaa dhaabatuu na
argisiise. [2] WAAQAYYOS Seexanaan akkana jedhe; “Seexana nana, WAAQAYYO si haa
ifatu! WAAQAYYO inni Yerusaalemin filate si haa ifatu! Namichi kun mukukkula
ibidda boba’u keessaa butame mitii?”

3 Iyyaasuun yeroo ergamaa Waaqayyoo sana dura dhaabatetti uffata xuraa’aa
uffatee ture. 4 Ergamaan Waaqayyoo sunis warra isa dura dhaabachaa turan sanaan,
“Uffata isaa xuraa’aa isa irraa baasaa” jedhe.

Innis ergasii Iyyaasuudhaan, “Kunoo ani cubbuu kee sirraa fuudhee uffata
miidhagaa sittin uffisa” jedhe.

5 Anis, “Mataa isaa irra marata qulqulluu kaa’aafii” nan jedhe. Kanaafuu isaan
utuma ergamaan WAAQAYYOO sun achi dhaabatee jiruu, marata qulqulluu mataa isaa
irra kaa’anii uffata itti uffisan.
6 Ergamaan WAAQAYYOO sunis ajaja kana Iyyaasuuf kenne: 7 “WAAQAYYO Waan
Hunda Danda’u akkana jedha; ‘Ati yoo karaa koo irra deemtee ajaja koo eegde, mana
koo ni bulchita; itti gaafatamaa oobdii koo ni taata; anis warra as dhadhaabatan kana
gidduutti iddoo siif nan kenna.
8 “ ‘Yaa Iyyaasuu lubicha ol aanaa, atii fi gareen kee warri fuula kee dura tataa’an,
namoonni waan dhufuuf jiruuf mallattoo ta’an waan kana dhaggeeffadhaa. Ani
tajaajilaa koo Damee sana nan fida. 9 Dhagaa ani fuula Iyyaasuu dura kaa’e ilaalaa!
Dhagaa tokkicha sana irra ija torbatu jira; anis barreeffama isa irratti nan qiriixa’
jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u; ‘cubbuu biyya kanaas guyyuma tokkotti nan
balleessa.
10 “ ‘Bara sana tokkoon tokkoon namaa muka wayiniitii fi muka harbuu isaa jala
taa’uuf ollaa isaa ni waammata’ jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u.”

# 4

### *Baattuu Ibsaatii fi Mukkeen Ejersaa*

1 Ergasii ergamaan Waaqayyoo kan natti dubbachaa ture sun deebi’ee akkuma
nama hirribaa dammaqfamuutti na dammaqse. 2 Innis, “Ati maal argita?” jedhee
na gaafate.

Anis akkana jedheen deebise; “Ani baattuu ibsaa kan guutumaan guututti warqee
ta’e cuggeen tokkos isa irra dhaabamee, ibsaawwan torba of irraa qabu kan
ibsaawwan sanaaf ujummoowwan torba qabu tokko nan arga. 3 Akkasumas mukkeen
ejersaa lama, tokko karaa mirga cuggeetiin, kaan immoo karaa bitaa cuggeetiin jira.”
4 Anis, “Yaa gooftaa wanni kun maali?” jedheen ergamaa Waaqayyoo kan natti
dubbachaa ture sana gaafadhe.
5 Inni immoo, “Ati isaan maal akka ta’an hin beektuu?” jedhee naaf deebise.

Anis, “Yaa gooftaa ko, ani hin beeku” jedheen deebise.
6 Kanaafuu inni akkana naan jedhe; “Kun dubbii WAAQAYYOO kan Zarubaabeliif
kennamee dha: ‘Hafuura kootiin malee jabinaan yookaan humnaan miti’ jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u.
7 “Yaa tulluu guddaa ati maali? Ati fuula Zarubaabel duratti lafa diriiraa taata.
Innis, ‘Surraan, surraan isaaf haa ta’u!’ jedhanii iyyaa inni dhagaa xumuraa baasa.”
8 Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe: 9 “Harki Zarubaabel
hundee mana qulqullummaa kanaa buuseera; harkuma isaatu ijaaree fixa. Ergasii
isin akka WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u isinitti na erge ni beektu.
10 “Eenyutu guyyicha waan xinnoo tuffata? Namoonni gaafa harka Zarubaabel
keessatti tunbii arganitti ni ililchu. Wantoonni torban kunneen ijawwan WAAQAYYOO
kanneen lafa hunda irra nanaanna’anii ilaalanii dha.”
11 Anis, “Mukkeen ejersaa lamaan karaa mirgaa fi bitaa baattuu ibsaa jiran kunneen
maali?” jedheen ergamaa Waaqayyoo sana gaafadhe.
12 Ammas ani, “Dameen muka ejersaa lamaan ujummoo warqee lamaan biraa
kanneen zayitii warqee gad dhangalaasan kunneen maali!” jedheen isa gaafadhe.
13 Innis, “Isaan maal akka ta’an ati hin beektuu?” naan jedhe.

Anis, “Yaa gooftaa ko, ani hin beeku” nan jedheen.
14 Kanaafuu inni, “Isaan kunneen warra lamaan akka Gooftaa lafa hundaa
tajaajilaniif dibamanii dha” jedhe.

## 5

*Kitaaba Maramaa Barrisu Tokko*

1 Ani ammas ol mil’adhe; kunoo kitaabni maramaan barrisu tokko fuula koo dura
ture!
2 Ergamaan Waaqayyoo sunis, “Ati maal argita?” jedhee na gaafate.
Anis, “Kunoo ani kitaaba maramaa dhundhuma digdama dheeratee dhundhuma
kudhan bal’atu tokko nan arga” jedheen deebise.
3 Kana irratti inni akkana naan jedhe; “Kun abaarsa lafa hundumatti dhufaa
jiruu dha; akka kitaabicha irratti barreeffametti, hattuun hundinuu ni barbadoofti;
akkuma barreeffamni gama kaan irraa jedhutti namni sobaan kakatu hundinuu ni
barbadeeffama. 4 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha; ‘Ani abaarsa kana
gad nan erga; innis mana hattuutii fi mana nama sobaan maqaa kootiin kakatuu ni
seena. Abaarsi kun mana isaa keessatti hafee, mana isaa, muka isaatii fi dhagaa isaa
ni barbadeessa.’ ”

*Dubartii Quunnaa Keessa Jirtu Tokko*

5 Ergamaan Waaqayyoo kan natti dubbachaa ture sun dhufee, “Mee ol jedhii waan
dhufaa jiru sana ilaali” naan jedhe.
6 Anis, “Inni maali?” jedheen gaafadhe.
Innis, “Kun quunnaa ittiin waa safaranii dha” jedhee deebise. Ammas itti dabalee,
“Kun hammina saba guutummaa lafaa irra jiraatuu ti” jedhe.
7 Ergasii qadaadni dilaalii irraa hojjetame irraa ol fuudhame; kunoo dubartiin tokko
quunnaa sana keessa teessee turte! 8 Innis, “Kun hammina” jedhe; ergasii quunnaa
keessatti gad ishee dhiibee qadaada dilaalii irraa hojjetame sana afaan quunnaatti
deebise.
9 Ergasii ani ol nan mil’adhe; kunoo dubartoonni qoochoo isaanii jalaa bubbee
qaban lama fuula koo dura turan! Isaanis qoochoo akka qoochoo huummoo qabu
ture; quunnaa sanas samii fi lafa gidduutti ol fuudhan.
10 Anis, “Isaan quunnaa sana eessatti geessu?” jedheen ergamaa Waaqayyoo kan
natti dubbachaa ture sana gaafadhe.
11 Innis, “Mana ijaaruuf jedhanii gara biyya Baabilonitti geessu. Yeroo manni sun
ijaaramee qopheeffamutti quunnaa sana fuudhanii iddoo isaa kaa’u.”

## 6

*Gaarii Afur*

1 Ani ammas ol nan mil’adhe; kunoo gaariiwwan afur kanneen gaarran lama
jechuunis tulluuwwan naasii gidduu gad ba’an nan arge! 2 Gaariin jalqabaa
fardeen didiimoo, lammaffaan gugurraa, 3 sadaffaan adaadii, afuraffaan immoo farda
daamaa qaba ture; isaan hundinuu jajjaboo turan. 4 Anis, “Yaa gooftaa ko, isaan
kunneen maali?” jedheen ergamaa Waaqayyoo natti dubbachaa ture sana gaafadhe.
5 Ergamaan Waaqayyoo sunis akkana jedhee naaf deebise; “Isaan kunneen
hafuurota samii afran fuula Gooftaa lafa hundaa dura iddoo dhaabachaa turanii gad
ba’anii dha. 6 Kan fardeen gugurraa qabu gara biyya kaabaa deema; kan fardeen
adaadii qabu gara biyya lixa biiftuu deema; kan fardeen daamaa qabu immoo gara
biyya kibbaa deemaa.”

[7] Fardeen jajjaboon sun yeroo gad ba'anitti guutummaa lafaa irra asii fi achi
deemuu barbaadanii turan. Innis "Guutummaa lafaa irra deemaa!" jedheen.
Kanaafuu isaan guutummaa lafaa irra deeman.
[8] Ergasii inni na waamee, "Ilaali, warri gara biyya kaabaa deeman sun biyya
kaabaatti Hafuura koo boqochiisaniiru" naan jedhe.

*Gonfoo Iyyaasuuf Kenname*

[9] Ergasii dubbiin WAAQAYYOO akkana jedhee gara koo dhufe; [10] "Booji'amtoota
Baabilon irraa dhufan jechuunis Heldaayi, Xoobbiyaa fi Yedaa'iyaa irraa meetii fi
warqee fuudhi. Gaafasuma gara mana Yosiyaas ilma Sefaaniyaa dhaqi. [11] Meetii fi
warqee sana fuudhiitii gonfoo tolchi; gonfoo sanas mataa Iyyaasuu lubicha ol aanaa
ilma Yehoozaadaaq irra kaa'i. [12] WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha,
jedhii itti himi: 'Kunoo namichi maqaan isaa Damee jedhamu tokko as jira; innis
damee baasee iddoo isaatii dagaagee dhaqee mana qulqullummaa WAAQAYYOO ijaara.
[13] Namni mana qulqullummaa WAAQAYYOO ijaaru isa; inni ulfina uffatee teessoo
isaa irra taa'ee ni bulcha. Inni teessoo isaa irratti luba ta'a. Walii galteen nagaas
isaan lamaan gidduu ni jiraata.' [14] Gonfoon sunis yaadannoo Heelem, Xoobbiyaa,
Yedaa'iyaatii fi Heeni ilma Sefaaniyaa tiif mana qulqullummaa WAAQAYYOO keessa ni
kaa'ama. [15] Warri fagoo jiraatan dhufanii ijaarsa mana qulqullummaa WAAQAYYOO
ni gargaaru; isinis akka WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u isinitti na erge ni beektu.
Yoo isin akka gaarii WAAQAYYO Waaqa keessaniif ajajamtan wanni kun ni ta'a."

# 7

*Murtii Qajeelaa fi Araara*

[1] Bara Daariyoos Mootichaa keessa waggaa afuraffaatti, bultii afuraffaa ji'a
saglaffaa, ji'a Kaaseluu jedhamu keessa dubbiin WAAQAYYOO gara Zakkaariyaas
dhufe. [2] Namoonni Beet'eel akka isaan WAAQAYYOON kadhataniif Sharezerii fi
Reege-Meleekin namoota isaanii wajjin ergan; [3] kunis akka isaan, "Ani akkuman
waggoota hedduu godhe sana ammas ji'a shanaffaa keessa gaddee soomuu qabaa?"
jedhanii luboota mana qulqullummaa WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uutii fi raajota
gaafataniif.
[4] Dubbiin WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu akkana jedhee gara koo dhufe;
[5] "Uummata biyya kanaatii fi luboota hunda akkana jedhii gaafadhu; 'Isin waggoota
torbaataman darban yeroo ji'a shanaffaa fi torbaffaa keessa soomtanii gadditanitti
dhugumaan anaaf soomtanii? [6] Yeroo nyaattanii fi dhugdanittis ofuma keessaniif
nyaattanii dhugdan mitii? [7] Dubbiin kun isa WAAQAYYO gaafa Yerusaalemii fi
magaalaawwan naannoo ishee nagaa fi badhaadhummaadhaan jiraatanitti, yeroo
Negeebii fi gaarran lixaa bira namoonni jiraachaa turanitti karaa raajota isaa
kanneen duriitiin dubbate mitii?' "
[8] Dubbiin WAAQAYYOO ammas akkana jedhee gara Zakkaariyaas dhufe:
[9] "WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: 'Murtii qajeelaadhaan bulchaa;
waliif araaramaa; garaas walii laafaa. [10] Isin haadha hiyyeessaa yookaan ijoollee
abbaa hin qabne yookaan alagaa yookaan hiyyeeyyii hin hacuucinaa. Garaa
keessanitti hammina walitti hin yaadinaa.'
[11] "Isaan garuu dhaga'uu didan; mataa jabinaanis dugda isaanii itti gatanii gurra
isaanii cuqqaallatan. [12] Isaan garaa isaanii akkuma dhagaa jabeeffatanii seera
yookaan dubbii WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u karaa raajota isaa kanneen duriitiin
Hafuura isaatiin erge dhaggeeffachuu didan. Kanaafuu WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'u akka malee aare.

13 " 'Yeroo ani waametti, isaan na hin dhaggeeffanne; kanaafuu yoo isaan na
waammatan ani isaan hin dhaggeeffadhu' jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.
14 'Ani bubbeedhaan saba isaan hin beekne hunda gidduutti isaan nan bittinneesse.
Biyyi isaanii hamma namni itti galuu fi keessaan darbu tokko iyyuu dhabamutti isaan
booddee ni onte. Isaan akkasiin biyya namatti toltu sana onsan.' "

# 8

### *WAAQAYYO Yerusaalemin Eebbisuuf Waadaa Gale*

1 Dubbiin WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu ammas gara koo dhufe.

2 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Ani Xiyooniif hinaaffaa guddaa
qaba; hinaaffaa isheetiin guggubachaan jira."

3 WAAQAYYO akkana jedha: "Ani Xiyoonitti deebi'ee Yerusaalem keessa nan
jiraadha. Yerusaalemis Magaalaa Dhugaa jedhamti; tulluun WAAQAYYO Waan Hunda
Danda'uus Tulluu Qulqulluu jedhamee ni waamama."

4 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Ammas yeroo tokko jaarsolii fi
jaartoliin daandii Yerusaalem irra ni tataa'u; tokkoon tokkoon isaanii sababii dulluma
isaaniitiif ulee harkatti qabatu. 5 Daandiin magaalattii ijoollee dhiiraa fi durbaa
kanneen achi taphataniin ni guutama."

6 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Yeroo sanatti wanni kun hambaa
saba kanaatiif dinqii ta'u danda'a; anaaf garuu kun dinqii ta'uu danda'aa?" jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.

7 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Ani biyyoota ba'a biiftuutii fi lixa
biiftuu keessaa saba koo nan baasa. 8 Ani akka isaan Yerusaalem keessa jiraataniif
isaan nan deebisa; isaan saba koo ni ta'u; anis dhugaa fi qajeelummaadhaan Waaqa
isaanii nan ta'a."

9 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Isin warri amma dubbii raajonni
yeroo hundeen mana WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu buufametti achi turan
dubbatan kana dhageessan, akka manni qulqullummaa ijaaramuuf irreen keessan
haa jabaatu. 10 Yeroo sanaan dura mindaan tokko iyyuu namaaf yookaan horiif hin
baafamu turre. Namni tokko iyyuu sababii diina isaatiif nagaadhaan hojii isaatiif
ba'ee hin galu ture; ani nama hunda walitti kaaseen tureetii. 11 Garuu ani amma
akkan duraan hojjedhe sana hambaa saba kanaatti hin hojjedhu" jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u.

12 "Sanyiin akka gaarii biqila; mukni wayiniis ija naqata; lafti midhaan kenniti;
samiiwwanis fixeensa isaanii coccobsu. Ani waan kana hunda dhaala godhee hambaa
saba kanaatiif nan kenna. 13 Yaa Yihuudaa fi Israa'el akkuma isin saboota gidduutti
waan abaarsaa turtan sana, ani isin baasee akka isin eebba taatan nan godha. Harki
keessan haa jabaatuu malee hin sodaatinaa."

14 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Ani akkuma gaafa abbootiin
keessan na aarsanitti balaa isinitti fiduu yaadee isinii na'uu dide sana" jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u; 15 "Kanaafuu ani amma Yerusaalemii fi Yihuudaaf
waan gaarii hojjechuu murteesseera. Isin hin sodaatinaa. 16 Wanni isin gochuu
qabdan kana: Dhugaa walitti dubbadhaa; karra keessan duratti murtii dhugaa fi
nagaa kennaa; 17 ollaa keessanitti waan hamaa hin malinaa; sobaan kakachuu illee
hin jaalatinaa. Ani waan kana hunda nan jibbaa" jedha WAAQAYYO.

18 Ammas dubbiin WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu gara koo dhufe.

19 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Soomni ji'a afuraffaa,
shanaffaa, torbaffaa fi kurnaffaa Yihuudaaf yeroo gammachuu fi ililchuu, akkasumas
yeroo ayyaana gammachuu ta'a. Kanaafuu dhugaa fi nagaa jaalladhaa."

[20] WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Uummanni hedduunii fi
jiraattonni magaalaa hedduun ammas ni dhufu; [21] jiraattonni magaalaa tokkoo gara
magaalaa biraa dhaqanii, 'Kottaa mee WAAQAYYO kadhachuu fi WAAQAYYO Waan
Hunda Danda'u barbaadachuuf dafnee haa deemnu. Ani mataan koo iyyuu nan
deema' jedhu. [22] Uummanni baay'eenii fi saboonni humna qabeeyyiin WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u barbaadachuu fi isa kadhachuuf gara Yerusaalem ni dhufu."
[23] WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Bara sana keessa afaanii fi saba
hunda keessaa namoonni kudhan dhufanii handaara wandaboo namicha Yihuudii
tokkoo qabatanii, 'Nu akka Waaqni isin wajjin jiru waan dhageenyeef, si wajjin haa
deemnu' jedhuun."

# 9

*Murtii Diinota Israa'elitti Murame*

[1] Raajiin dubbii WAAQAYYOO biyya Hadraakitti ni dhufa;
Damaasqoo irras ni bu'a;
iji namoota hundaa fi gosoota Israa'el hundaa gara
WAAQAYYO ni ilaalaatii;
[2] akkasumas gara Hamaati ishee daangaa irraa,
isaan ogeeyyii ta'an iyyuu gara Xiiroosii fi Siidoonaas ni ilaala.
[3] Xiiroos da'annoo jabaa ijaarratteerti;
meetii akka awwaaraatti,
warqees akkuma kosii daandii irraatti tuullateerti.
[4] Gooftaan garuu qabeenya ishee irraa fuudhee humna ishee
galaana irratti barbadeessa;
isheenis ibiddaan dhumti.
[5] Ashqaloon waan kana argitee ni sodaatti;
Gaazaan immoo dhukkubsattee aaddi;
Eqroonis akkasuma taati; abdiin ishee coollageeraatii.
Gaazaan mootii ishee ni dhabdi;
Eqroonis ontee hafti.
[6] Namoonni ormaa Ashdoodin ni qabatu;
anis of tuulummaa Filisxeemotaa nan balleessa.
[7] Ani dhiiga afaan isaanii keessa jiru,
nyaata dhowwames ilkaan isaanii gidduudhaa nan baasa.
Warri hafanis kan Waaqa keenyaa ta'anii
Yihuudaa keessattis bulchitoota ta'u;
Eqroon immoo akka warra Yebuusotaa ni taati.
[8] Ani garuu loltuu cabsitee seentu
mana koo irraa nan dhowwa.
Lammata hacuuccuun saba koo irra hin burraaqxu;
ani amma dammaqee nan eegaatii.

*Dhufaatii Mooticha Xiyoon*

[9] Yaa Intala Xiyoon ati guddisii gammadi!
Yaa Intala Yerusaalem iyyi!
Kunoo mootiin kee qajeelaan,
fayyina qabatee,
gad of qabee harree yaabbatee,
ilmoo harree jechuunis harree xinnoo yaabbatee gara kee dhufaa jira.
[10] Ani gaariiwwan lolaa Efreem keessaa,
fardeen lolaas Yerusaalem keessaa nan balleessa;
iddaan waraanaas ni caccaba.

Inni sabootatti nagaa ni labsa;
bulchiinsi isaa galaana tokkoo irraa hamma galaana biraatti,
Laga Efraaxiisiitii hamma daarii lafaatti bal'ata.
11 Si'i immoo, sababii dhiiga kakuu ani si wajjin qabuutiif
hidhamtoota kee ani boolla bishaan hin qabne keessaa baasee
gad nan dhiisa.
12 Yaa hidhamtoota abdii qabdan, da'annoo keessanitti deebi'aa;
ani ammas harka lama godhee isiniif nan deebisa.
13 Ani akkan iddaa koo dabsadhutti Yihuudaa dabsee
Efreem keessa nan guuta.
Yaa Xiyoon, ani ilmaan kee
ilmaan Giriikitti nan kaasa;
si'i immoo akka goraadee goota tokkoo nan godhadha.

### *Waaqayyo Ni Mul'ata*

14 WAAQAYYO isaan irratti ni mul'ata;
xiyyi isaa akka bakakkaa ni balaqqisa.
WAAQAYYO Gooftaan malakata ni afuufa;
inni bubbee kibbaatiin deema;
15 WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u isaan eega.
Isaan dhagaa furrisaatiin barbadeessanii mo'atu.
Isaan akkuma daadhii wayinii dhuganii
akkuma waciitii ittiin golee iddoo aarsaatti facaasaniitti ni guutamu.
16 Akkuma tikseen bushaayee isaa oolchu sana,
WAAQAYYO Waaqni isaanii gaafas saba isaa ni oolcha.
Isaan akkuma faaya gonfoo irraatti
biyya isaa keessatti ni calaqqisu.
17 Isaan akkam nama hawwatu! Akkamis miidhagu!
Midhaan dargaggoota,
daadhiin wayinii haaraan immoo shamarran jajjabeessa.

# 10

### *WAAQAYYO Yihuudaa ni Kunuunsa*

1 Yeroo bokkaa isa booddeetti akka inni bokkaa isiniif kennuuf
WAAQAYYOON kadhadhaa;
bakakkaa kan ergu WAAQAYYOO dha.
Inni bokkaa lola'u nama hundaaf,
biqiltuu dirree immoo tokkoo tokkoo namaatiif ni kenna.
2 Waaqonni tolfamoon gowwoomsaa dubbatu;
raajonni mul'ata sobaa argu;
isaan abjuu sobaa namatti himu;
waan faayidaa hin qabneen nama jajjabeessu.
Kanaafuu sabni kun akkuma hoolaa tiksee hin qabnee
hacuucamee asii fi achi joora.

3 "Aariin koo tiksootatti boba'eera;
ani re'oota nan adaba;
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u
bushaayee isaa, mana Yihuudaa ni to'ata;
lola keessattis akka farda jabaa isaan taasisa.
4 Yihuudaa keessaa dhagaan golee,

isa keessaa qofoon dunkaanaa,
isa keessaa iddaan lolaa,
isa keessaa bulchaan hundi ni dhufa.
5 Isaan akkuma namoota jajjaboo
waraana keessatti tokkummaadhaan daandii dhoqqee irra deemu.
Sababii WAAQAYYO isaan wajjin jiruuf
isaan lolanii abbootii fardeenii qaanessu.

6 “Ani mana Yihuudaa nan jajjabeessa;
mana Yoosefis nan oolcha.
Ani waanan garaa isaaniif laafuuf
deebisee isaan nan dhaaba.
Isaan akkuma waan ani duraanuu
isaan hin gatinii ta’u;
ani WAAQAYYO Waaqa isaanii ti;
deebiis isaaniif nan kenna.
7 Efreemonni akkuma namoota jajjaboo ta’u;
garaan isaaniis akkuma nama daadhii wayiniitiin gammaduu ni gammada.
Ijoolleen isaanii waan kana arganii ni gammadu;
garaan isaanii WAAQAYYOOTTI ni gammada.
8 Ani siiqsee
walitti isaan nan qaba.
Ani dhugumaan isaan nan fura;
isaan akkuma duraa sana ni baay’atu.
9 Yoo ani saboota gidduutti
isaan bittinneesse iyyuu isaan biyya fagootti na yaadatu.
Isaanii fi ijoolleen isaanii lubbuudhaan ni jiraatu;
ni deebi’us.
10 Ani biyya Gibxiitii deebisee isaan nan fida;
Asoor keessaas walittin isaan qaba.
Ani gara Gili’aadii fi Libaanoonitti isaan nan fida;
iddoon isaan ga’us hin argamu.
11 Inni galaana rakkinaa keessa darba;
dha’aa galaanaas ni rukuta;
tuujubawwan Abbayyaa hundinuu ni gogu.
Of tuulummaan Asoor gad deebi’a;
bokkuun mootummaa Gibxis ni bada.
12 Ani WAAQAYYOON isaan nan jabeessa;
isaanis maqaa isaatiin deddeebi’u”
jedha WAAQAYYO.

# 11

1 Yaa Libaanoon, akka ibiddi birbirsa kee gubee fixuuf
balbala kee banadhu!
2 Yaa muka gaattiraa, birbirsi kufeeraatii wawwaadhu;
mukkeen ulfina qaban badaniiru!
Yaa qilxuu Baashaan wawwaadhu;
bosonni gobbuun ciramee dhumeera!
3 Wawwaannaa tiksootaa dhaggeeffadhaa;
lafti tika isaanii inni gabbataan barbadaa’eeraatii!
Aaduu leencaa dhaga’aa;

bosonni Yordaanos gobbuun sun barbadaa'eeraatii!

*Tiksitoota Lama*

4 WAAQAYYO Waaqni koo akkana jedha: "Bushaayee qalmaaf qopheeffaman tiksi.
5 Warri isaan bitatan, qalatanii utuu hin adabamin hafu. Warri gurguratanis,
'WAAQAYYOON galanni haa ga'u; ani sooressa!' jedhu. Tiksoonni isaanii garaa isaaniif
hin laafan. 6 Ani si'achi uummata biyyattiitiif garaa hin laafuutii" jedha WAAQAYYO.
"Ani nama hunda dabarsee ollaa isaatii fi mootii isaatti nan kenna. Isaan biyyattii ni
rukutu; anis harka isaaniitii isaan hin baasu."

7 Kanaafuu ani bushaayee qalmaaf qopheeffaman, keessumattuu kanneen
bushaayee cunqurfaman nan tikfadhe. Ergasii ani ulee lama fudhadhee isa tokkoon
Surraa isa kaaniin immoo Tokkummaa jedheen moggaase; akkasiinis bushaayee nan
tikfadhe. 8 Ani ji'uma tokko keessatti tiksoota sadan nan balleesse.

Lubbuun koo isaan balfite; lubbuun isaaniis na balfite; 9 akkanas jedheen; "Ani
tiksee keessan hin ta'u. Kan du'u haa du'u; kan badus haa badu. Kanneen hafanis
foon walii haa nyaatan."

10 Ergasii ani kakuu saboota hunda wajjin gale cabsuudhaaf ulee koo kan Surraa
jedhamu fuudhee nan cabse. 11 Innis guyyuma sana cabe; kanaafuu bushaayeen
dhiphatan kanneen na ilaalaa turan akka wanni kun dubbii WAAQAYYOO ta'e beekan.

12 Anis, "Yoo wanni kun waan gaarii isinitti fakkaate, gatii koo naaf kennaa; yoo
ta'uu baate immoo dhiisaa" nan jedheen. Kanaafuu isaan meetii soddoma naaf
kennan.

13 WAAQAYYOS gatii gaarii isaan itti na shallagan sana, "Mankuusa keessa buusi!"
naan jedhe. Kanaafuu ani meetii soddomman sana fuudhee mana WAAQAYYOO
keessatti mankuusa keessa nan buuse.

14 Ergasii ani obbolummaa Yihuudaatii fi Israa'el diiguudhaaf ulee koo lammaffaa
kan Tokkummaa jedhamu sana nan cabse.

15 Kana irratti WAAQAYYO akkana naan jedhe; "Ammas mi'a tiksee gowwaa sanaa
fuudhi. 16 Ani kunoo biyyattii keessatti tiksee hoolotaa nan kaasa; innis isa bade hin
yaadatu; isa joore hin barbaadu; isa cabe hin wal'aanu; isa fayye hin sooru; garuu
foon coomaa ni nyaata; kottee isaaniis ni caccabsa.

17 "Tiksee faayidaa hin qabne
kan bushaayee gatee deemuuf wayyoo!
Goraadeen irree isaatii fi ija isaa mirgaa haa dha'u!
Irreen isaa guutumaan guutuutti haa goggogu;
iji isaa mirgaa guutumaan guutuutti haa jaamu!"

# 12

*Diinonni Yerusaalem ni barbadeeffamu*

1 Kun raajii dubbii WAAQAYYO waa'ee Israa'el dubbatuu dha.

WAAQAYYO samiiwwan diriirse, inni hundee lafaa buuse, inni nama keessatti
hafuura namaa uume sun akkana jedha: 2 "Ani Yerusaalemin namoota naannoo
ishee jiraatan hundatti xoofoo gatantarsu nan godha. Yihuudaan akkuma Yerusaalem
marfamtee ni qabamti. 3 Gaafas, yeroo saboonni lafaa hundi isheen mormuudhaan
walitti qabamanitti, ani Yerusaalemin saboota hundatti kattaa hin sochoofamne nan
godha. Warri ishee sochoosuu yaalan hundi of miidhu. 4 Gaafas ani fardeen hunda
nan naasisa; isa yaabbatus nan maraacha" jedha WAAQAYYO. "Ani Yihuudaa eeguuf
ija koo nan banadha; ija fardeen saboota hundaa garuu nan jaamsa. 5 Ergasii
hangafoonni Yihuudaa garaa isaaniitti, 'Jiraatonni Yerusaalem sababii WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u Waaqa isaanii ta'eef jajjaboo dha' jedhu.

6 “Ani gaafas hangafoota Yihuudaa badaa ibiddaa tuullaa qoraanii keessaa, akkuma
guca ibiddaa bissii keessaa nan godha. Isaan saboota naannoo isaanii kanneen
mirgaa fi bitaan jiran hunda ni barbadeessu; Yerusaalem garuu utuu hin miidhamin
iddoodhuma isheetti hafti.
7 “WAAQAYYO akka ulfinni mana Daawitii fi jiraattota Yerusaalem ulfina Yihuudaa
hin caalleef duraan dursee iddoo jireenya Yihuudaa ni baraara. 8 Gaafas WAAQAYYO
jiraattota Yerusaalemiif ni qolata; guyyaa sana isaan keessaa inni dadhabaan akka
Daawit ta’a; manni Daawitis akka Waaqaa, akka ergamaa WAAQAYYOO isa isaan dura
deemuu ni ta’a. 9 Ani gaafas saboota Yerusaalem lolan hunda balleessuuf nan ba’a.

### *Isa Waraanan Sanaaf Boo’uu Isaanii*

10 “Ani mana Daawitii fi jiraattota Yerusaalem irratti hafuura surraatii fi kadhannaa
nan dhangalaasa. Isaan ana isa waraanan sana ni ilaalu; isaan akkuma nama ilma
tokkichaaf boo’uutti ni boo’uuf; akkuma nama ilma hangafaaf baay’isee gadduuttis ni
gadduuf. 11 Gaafas boo’ichi Yerusaalem keessaa akkuma boo’icha dirree Megidoonitti
Hadaad Rimooniif boo’ame sanaa guddaa ta’a. 12 Biyyattiin ni boossi; tokkoon
tokkoon balbalaas niitota isaanii wajjin ofii isaaniitiif ni boo’u; balballi mana Daawitii
fi niitonni isaanii, balballi mana Naataaniitii fi niitonni isaanii, 13 balballi mana
Lewwii fi niitonni isaanii, balballi Shime’iitii fi niitonni isaanii, 14 balbalawwan hafan
hundii fi niitonni isaanii ni boo’u.

# 13

### *Cubbuu Irraa Qulqullaa’uu*

1 “Gaafas mana Daawitii fi jiraattota Yerusaalem cubbuu fi xuraa’ummaa irraa akka
qulqulleessuuf burqaan tokko ni banama.
2 “Ani gaafas maqaa waaqota tolfamoo biyyattii keessaa nan balleessa; isaan
lammata hin yaadataman” jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u. “Ani raajotaa
fi hafuura xuraa’ummaa biyyattii keessaa nan balleessa. 3 Yoo namni tokko ammas
raajii dubbate, abbaa fi haati isaa, warri isa dhalche, ‘Ati maqaa WAAQAYYOOTIIN
waan soba dubbatteef du’uu qabda’ jedhuun. Yeroo inni raajii dubbatutti abbaa fi
haati isaa warri isa dhalche isa waraanu.
4 “Guyyaa sana raajiin hundinuu sababii mul’ata raajii isaatiif ni qaana’a; inni
gowwoomsuudhaaf wayyaa raajii kan rifeensa irraa hojjetame hin uffatu. 5 Inni,
‘Ani qotee bulaadha malee raajii miti; ijoollummaa kootii jalqabee namni na gurguree
ture’ jedha. 6 Yoo namni tokko, ‘Madaan dhagna kee irraa kun maali?’ jedhee gaafate,
inni, ‘Madaan kun madaa ani mana michoota kootti madaa’ee dha’ jedhee deebisa.

### *Tikseen Ni Rukutama, Hoolonni ni Bittinnaa’u*

7 “Yaa goraadee, tiksee kootti,
nama natti dhi’aatu sanatti ka’i!” jedha
WAAQAYYOON Waan Hunda Danda’u.
“Ati tiksee rukuti;
hoolonni ni bittinneeffamu;
anis harka koo warra xixinnaatti nan deebifadha.
8 Lafa hunda irratti” jedha WAAQAYYO,
“Harka sadii keessaa harki lama rukutamee bada;
ta’us harka sadii keessaa harki tokko achitti hafa.
9 Ani harka sadaffaa kana ibiddattin naqa;
akkuma meetii baqsee isaan nan qulqulleessa;
akka warqeetti isaan nan qora.
Isaan maqaa koo ni waammatu;
anis deebii nan kennaaf;

ani, ‘Isaan saba koo ti’ nan jedha;
isaan immoo, ‘WAAQAYYO Waaqa keenya’ jedhu.”

## 14

*WAAQAYYO ni Dhufa; ni Mo’as*

1 Kunoo guyyaan WAAQAYYOO ni dhufa; boojuun kees si keessatti ni qoqqoodama.
2 Ani akka isaan ishee waraananiif saboota hunda Yerusaalemitti walitti nan
qaba; magaalattiin ni qabamti; manneen ni saamamu; dubartoonni isaanii humnaan
gudeedamu. Gartokkeen magaalattii ni booji’ama; uummanni hafe garuu magaalattii
keessaa hin fudhatamu. 3 WAAQAYYO akkuma guyyaa duulaa dhaqee lolu sana,
dhaqee saboota sana lola. 4 Guyyaa sana miilli isaa Tulluu Ejersaa isa karaa ba’a
Yerusaalemiitiin jiru irra dhaabata; Tulluun Ejersaas ba’aa gara dhi’aatti sulula
guddaa uumee iddoo lamatti baqaqfama. Tulluun sunis gartokkeen isaa gara
kaabaatti, gartokkeen isaa immoo gara kibbaatti siqa. 5 Isin karaa sulula tulluu
kootiin baqattu; inni gara Aazeelitti diriirfamaatii. Isin akkuma bara Uziyaan
mooticha Yihuudaa keessa sochii lafaa jalaa baqattan sana ammas ni baqattu. Ergasii
WAAQAYYO, Waaqni koo ni dhufa; qulqulloonni hundinuus isa wajjin ni dhufu.
6 Guyyaa sana ifni, dhaamochii fi qorri hin jiraatan. 7 Guyyaan sun guyyaa
addaa, guyyaa WAAQAYYO qofa biratti beekamu, yeroo itti garaagarummaan guyyaa
fi halkanii hin beekamne ni ta’a. Yeroo dhi’utti ifa ni ta’a.
8 Gaafas bishaan jireenyaa Yerusaalem keessaa ni yaa’a; walakkaan isaa gara
galaana ba’aatti, walakkaan immoo gara galaana lixaatti bonaa fi ganna yaa’a.
9 WAAQAYYO guutummaa lafaa irratti mootii ta’a. Gaafas WAAQAYYO tokko, maqaan
isaas maqaa tokko ta’a.
10 Guutummaan biyyattii Gebaadhaa hamma Rimoon ishee kibba Yerusaalem
jirtuutti akka Arabbaa ta’a. Yerusaalem garuu Karra Beniyaamii hamma Karra
Jalqabaatti, hamma Karra Goleetti, Gamoo Hanaani’eelii hamma iddoo cuunfaa
wayinii mootichaatti ol kaafamtee iddoodhuma ishee durii ni turti. 11 Namni ishee
keessa jiraata; isheen si’achi hin diigamtu. Yerusaalem nagaadhaan jiraatti.
12 Kun dha’icha WAAQAYYO ittiin saboota Yerusaalemin lolan hunda rukutuu dha:
Foon isaanii utuma isaan miilla isaaniitiin dhaabatanii jiranuu tortora; iji isaanii
boolla ija isaanii keessatti tortora; arrabni isaaniis afaan isaanii keessatti tortora.
13 Gaafas jeequmsi guddaan WAAQAYYO biraa namootatti ni dhufa. Isaanis harkaan
wal qabatanii wal haleelu 14 Yihuudaanis Yerusaalemin lola. Qabeenyi saboota
naannoo ishee jiraatanii hundi warqeen, meetii fi uffanni baay’een walitti qabama.
15 Dha’ichi akkasii fardeenii fi gaangolii, gaalaa fi harree, akkasumas horii qubata
keessaa hunda ni rukuta.
16 Ergasii hambaawwan saboota Yerusaalemin lolan hundaa wagguma waggaad-
haan Mooticha, WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u waaqeffachuu fi Ayyaana Daasii
ayyaaneffachuuf ol ba’u. 17 Uummanni lafa irra jiraatu kam iyyuu yoo Mooticha,
WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u waaqeffachuuf Yerusaalemitti ol ba’uu baate
bokkaa hin argatu. 18 Uummanni Gibxiis yoo ol ba’ee hirmaachuu baate bokkaa
hin argatu. WAAQAYYO dha’icha ittiin saboota Ayyaana Daasii ayyaaneffachuuf ol hin
baane rukutu isaanitti ni fida. 19 Kun adabbii Gibxii fi adabbii saboota Ayyaana Daasii
ayyaaneffachuuf ol hin baane hundaa ta’a.
20 Gaafas katabbiin, “WAAQAYYOOF qulqullaa’e” jedhu bilbila fardeenii irratti ni
barreeffama. Xuwween mana WAAQAYYOO keessaas akkuma waciitii qulqulluu fuula
iddoo aarsaa dura jiru sanaa ni ta’a. 21 Xuwween Yerusaalemii fi Yihuudaa keessaa
hundi WAAQAYYO Waan Hunda Danda’uuf qulqulluu ta’a; namni aarsaa dhi’eessuuf
dhufu hundinuus xuwweewwan sana keessaa muraasa ni fudhata. Foon aarsaa itti

bilcheeffata. Gaafas namni Kana'aan tokko iyyuu deebi'ee mana WAAQAYYO Waan Hunda Danda'uu keessatti hin argamu.

# Raajii
# Miilkiyaas

1 Raajii dubbii WAAQAYYOO kan karaa Miilkiyaasiin gara Israa'el dhufe.

### *Israa'el Jaalala Waaqaa Shakke*

2 "Ani isin jaalladheera" jedha WAAQAYYO.
"Isin immoo, 'Ati akkamitti nu jaallatte?' jettanii gaafattu.
"Esaawu obboleessa Yaaqoob hin turree?" jedha WAAQAYYO. "Ta'us ani Yaaqoobin
jaalladhee, 3 Esaawun garuu jibbeera; ani tulluuwwan isaa lafa onaa godhee dhaala
isaas waangoo gammoojjiitiif kenneera."
4 Edoomiyaas, "Nu caccabnu iyyuu, diigama sana deebisnee ni ijaarra" jedha ta'a.
Garuu WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u akkana jedha: "Isaan ni ijaaru ta'a; ani
garuu nan diiga. Isaan Biyya Hamaa, saba yeroo hunda dheekkamsa WAAQAYYOO
jala jiraatu jedhamanii ni waamamu. 5 Isin waan kana ija keessaniin argitanii, 'Daarii
biyya Israa'eliin gamatti iyyuu WAAQAYYO Guddaa dha!' jettu.

### *Aarsaa Mudaa Qabuun Kakuu Cabsuu*

6 "Ilmi abbaa isaa, garbichis gooftaa isaa ulfeessa. Egaa ergan abbaa ta'e, ulfinni
naaf malu meerre ree? Ergan gooftaa ta'e, kabajni naaf malu meerree ree?" jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.
"Yaa luboota; isintu maqaa koo tuffata.
"Isin garuu, 'Nu akkamiin maqaa kee tuffanne?' jettanii gaafattu.
7 "Isin nyaata xuraa'aa iddoo aarsaa koo irratti dhi'eessitu.
"Isin garuu, 'Nu akkamiin si xureessine' jettanii gaafattu.
"Maaddiin WAAQAYYOO tuffatamaa dha jechuudhaan. 8 Isin yoo horii jaamaa
aarsaadhaaf dhi'eessitan, sun balleessaa mitii? Isin yoo horii naafa yookaan horii
dhukkubsataa naaf qaltan, sun balleessaa mitii? Mee horii sana bulchaa keessaniif
kennuu yaalaa! Inni isinitti ni gammadaa? Inni isin harkaa ni fudhataa?" jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.
9 "Egaa mee akka inni garaa nuu laafuuf Waaqa nuuf kadhadhaa. Isin yoo aarsaa
akkasii qabattanii dhi'aattan inni isin harkaa ni fudhataa?" jedha WAAQAYYO Waan
Hunda danda'u.
10 "Isin keessaa namni tokko akka isin ibidda faayidaa hin qabne iddoo aarsaa
koo irratti hin bobeessineef utuu balbala mana qulqullummaa cufee jiraatee! Ani
isinitti hin gammadu; aarsaa tokko iyyuu isin harkaa hin fudhu" jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda'u. 11 "Maqaan koo ba'a aduutii kaasee hamma lixa aduutti
saboota gidduutti guddaa ni ta'a. Iddoo hundatti ixaannii fi aarsaan qulqulluun ni
kennama; maqaan koo saboota gidduutti guddaa ni ta'aatii" jedha WAAQAYYO Waan
Hunda Danda'u.
12 "Isin garuu maaddiin Gooftaa 'xuraa'aa dha' nyaanni isaas 'tuffatamaa dha'
jechuudhaan maqaa koo xureessitu. 13 'Kun dadhabbii dha!' jettaniis tuffiidhaan
itti cirriiqfattu" jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.
"Isin yoo horii hatame, kan naafate yookaan kan dhukkuba qabu fiddanii aarsaa
gootanii dhi'eessitan, ani isin harkaa fudhachuutu narra jiraa?" jedha WAAQAYYO.
14 "Namni bushaayee isaa keessaa korbeessa jaallatamaa qabu kan korbeessa sana
aarsaa dhi'eessuuf wareega kennee garuu sobee horii hir'ina qabu Gooftaadhaaf
dhi'eessu abaaramaa haa ta'u. Ani mootii guddaadhaatii, maqaan koo saboota
gidduutti sodaatamuu qaba" jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda'u.

# 2

*Akeekkachiisa Lubootaaf Kenname*

1 “Yaa luboota akeekkachiisni kun isiniif kenname. 2 Yoo isin dhaggeeffachuu
baattan, yoo isin maqaa koo kabajuuf garaa keessan qopheessuu baattan, ani
abaarsa isinitti nan erga; eebba keessanis nan abaara” jedha WAAQAYYO Waan
Hunda Danda’u. “Sababii isin maqaa koo kabajuuf garaa keessan hin qopheessiniif
dhugumaan ani amma iyyuu eebba keessan abaareera.
3 “Sababii keessaniif ani sanyii keessan nan ifadha; faandoo aarsaa isin guyyaa
ayyaanaa dhi’eessitanii fuula keessanitti nan facaasa; isa wajjinis ni baddu. 4 Kakuun
ani Lewwii wajjin qabu akka itti fufuuf, ajaja kana isinitti erguu koo isin ni beektu”
jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u. 5 “Kakuun ani isa wajjin gale kakuu
jireenyaatii fi kakuu nagaa ture; isas nan kenneef; kunis kabaja fide; innis na kabaje;
maqaa koo sodaachuudhaanis ni dhaabate. 6 Gorsi dhugaa afaan isaa keessa ture;
sobni tokko iyyuu hidhii isaa irraa hin argamne. Inni nagaa fi qajeelummaadhaan
na wajjin jiraate; nama hedduus qalbii jijjiirrachiise.
7 “Sababii inni ergamaa WAAQAYYO Waan Hunda Danda’uu ta’eef, hidhiin luba
tokkoo beekumsa kuufata; namoonnis afaan isaa irraa gorsa barbaadu. 8 Isin garuu
karaa irraa jal’attaniirtu; barsiisa keessaniinis namoota baay’ee gufachiiftaniirtu;
kakuu Lewwiis cabsitaniirtu” jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u. 9 “Kanaafuu
ani akka isin saboota hunda duratti tuffatamtanii fi salphattan nan godha; isin waa’ee
seeraa keessatti loogii hojjettan malee karaa koo duukaa hin buuneetii.”

*Dhirsaa Niitiin Wal Hiikuudhaan Kakuu Cabsuu*

10 Nu hundi Abbaa tokko qabna mitii? Waaquma tokkotu nu uume mitii? Yoos nu
maaliif waliif amanamuu diduudhaan kakuu abbootii keenyaa xureessina ree?
11 Yihuudaan hin amanamne. Israa’elii fi Yerusaalem keessatti wanni jibbisiisaan
tokko raawwatameera; Yihuudaan dubartoota waaqa ormaa waaqeffatan fuudhuud-
haan iddoo qulqulluu WAAQAYYO jaallatu xureesseera. 12 Nama waan kana hojjetu
abbaa fedhe illee yoo ta’e, WAAQAYYO Waan Hunda Danda’uuf aarsaa fidu iyyuu
dunkaana Yaaqoob keessaa WAAQAYYO isa haa balleessu.
13 Wanni isin hojjettan kan biraas kanaa dha: iddoo aarsaa WAAQAYYOO irra
imimmaan lolaaftu. Sababii inni si’achi aarsaa keessaniif xiyyeeffannoo hin
kennineef yookaan aarsaa keessan gammachuudhaan isin harkaa hin fudhanneef ni
boossu; ni wawwaattus. 14 Isinis, “Kun maaliif ta’e?” jettanii gaafattu. Kun sababii ati
utuma isheen hidhata kee, niitii kee kan kakuu taatee jirtuu amanamummaa isheef
dhabdeef WAAQAYYO si’ii fi niitii qeerrummaa kee gidduutti ragaa ta’eefii dha.
15 WAAQAYYO tokko isaan hin goonee? Isaan fooniinis hafuuraanis kanuma isaa
ti. Inni maaliif tokko isaan godhe? Sababii inni sanyii Waaqa sodaatu barbaadaa
tureef. Kanaafuu of eeggadhaa; eenyu iyyuu amanamummaa niitii qeerrummaa
isaatiif qabu hin cabsin.
16 “Ani wal hiikuu dhirsaa fi niitii nan jibba” jedha WAAQAYYO Waaqni Israa’el;
“Ani nama wayyaa isaatiin jal’ina haguugu nan jibba” jedha WAAQAYYO Waan Hunda
Danda’u.

Kanaafuu of eeggadhaa; amanamummaas hin dhabinaa.

*Murtii Dabsuudhaan Kakuu Cabsuu*

17 Isin dubbii keessaniin WAAQAYYOON dadhabsiiftaniirtu.

“Nu akkamiin isa dadhabsiifne?” jettaniis gaafattu.

“Warri waan hamaa hojjetan hundinuu fuula WAAQAYYOO duratti gaarii dha; innis
isaanitti gammada” yookaan “Waaqni murtii qajeelaa meerre?” jechuudhaan.

# 3

1 “Kunoo ani ergamaa koo isa fuula koo duraan karaa naaf qopheessu nan erga.
Ergasii Gooftaan isin eeggattan akkuma tasaa gara mana qulqullummaa isaa ni dhufa;
ergamaan kakuu kan isin hawwitan sun ni dhufa” jedha WAAQAYYO Waan Hunda
Danda’u.
2 Garuu eenyutu guyyaa dhufaatii isaa sana obsuu danda’a? Yeroo inni mul’atuttis
eenyutu isa dura dhaabachuu danda’a? Inni akka ibidda nama sibiila baqsee
qulqulleessuu yookaan akka saamunaa nama wayyaa miicuu ti. 3 Inni akkuma nama
meetii baqsee qulqulleessuu ni ta’a; Lewwotas calalee akka warqeettii fi meetiitti
qulqulleessa. Ergasiis WAAQAYYO namoota qajeelummaadhaan aarsaa isaaf fidan
ni qabaata; 4 akkuma bara darbee, akkuma waggoota duraa aarsaan Yihuudaatii fi
Yerusaalem WAAQAYYOON ni gammachiisa.
5 “Kanaafuu ani murtiif gara keessan nan dhufa. Ani falfaltootatti, sagaagaltootatti,
warra sobaan kakatanitti, warra mindaa hojjettootaa dhowwatanitti, warra haadhota
hiyyeessaa fi ijoollee abbaa hin qabne hacuucanitti, warra alagoota murtii qajeelaa
dhowwatanii fi na hin sodaannetti dhugaa ba’uuf nan ariifadha” jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u.

### *Kudhan Keessaa Tokko Dhowwachuudhaan Kakuu Cabsuu*

6 “Ani WAAQAYYO hin geeddaramu. Kanaafuu yaa ilmaan Yaaqoob isin hin bar-
badoofne. 7 Isin bara abbootii keessaniitii jalqabdanii sirna koo irraa jal’attaniirtu;
hin eegnes. Gara kootti deebi’aa; anis gara keessanitti nan deebi’aa” jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u.
“Isin garuu, ‘Nu akkamiin deebina?’ jettanii gaafattu.
8 “Namni Waaqa ni saamaa?” Ta’us isin na saamtan.
“Isin garuu, ‘Nu akkamiin si saamne?’ jettanii gaafattu.
“Kudhan keessaa tokkoo fi aarsaadhaan. 9 Isin guutummaan saba keessanii sababii
na saamtaniif abaarsa jala jirtu. 10 Akka mana koo keessa nyaanni jiraatuuf, kudhan
keessa tokko guutummaatti gombisaatti galchaa. Kanaan na qoraatii akka ani karra
burqaa samii banee hamma isin iddoo itti kuufattan dhabdanitti eebba guddaa isiniif
hin roobsine ilaalaa” jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u. 11 “Ani akka daana’oon
midhaan keessan hin balleessineef nan ifadha; mukni wayinii lafa qotiisa keessaniis
ija hin harcaafatu” jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u. 12 “Ergasii isin biyya
gammaddu waan taataniif, saboonni hundinuu eebbifamtoota isiniin jedhu” jedha
WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u.

### *Israa’el Of Tuulummaadhaan Waaqatti Dubbate*

13 “Isin of tuulummaadhaan natti dubbattan” jedha WAAQAYYO.
“Ta’us, ‘Nu maal siin jenne?’ jettanii gaafattu.
14 “Isin akkana dubbattan; ‘Waaqa tajaajiluun faayidaa hin qabu. Nu fedhii isaa
duukaa buunee akkuma nama boo’uu, fuula WAAQAYYO Waan Hunda Danda’uu dura
jooruudhaan maal arganne? 15 Amma garuu of tuultotaan eebbifamtoota jenna.
Dhugumaan warri hamaa hojjetan ni eebbifamu; warri Waaqa qoranis ni miliqu.’ ”
16 Warri WAAQAYYOON sodaatan walitti dubbatan; WAAQAYYOS isaan dhaggeeffate;
ni dhaga’es. Warra WAAQAYYOON sodaatanii fi maqaa isaa kabajaniifis kitaabni
maramaan yaadannoodhaaf fuula isaa duratti barreeffame.
17 WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u akkana jedha; “Guyyaa ani hojjedhutti isaan
handhuuraa koo addaa ni ta’u. Akkuma namni tokko ilma isaa kan isa tajaajilu
baraaru sana ani isa nan baraara. 18 Isin ammas garaa garummaa nama qajeelaatii
fi nama hamaa, garaa garummaa warra Waaqa tajaajilaniitii fi warra hin tajaajillee
ni argitu.

# 4

*Dhufaatii Guyyaa WAAQAYYOO*

1 “Dhugumaan guyyaan akka badaa ibiddaa boba’u ni dhufa. Of tuultonni hundii fi
warri hammina hojjetan hundi cidii ta’u; guyyaan sunis isaan guba” jedha WAAQAYYO
Waan Hunda Danda’u. “Hiddi yookaan dameen tokko iyyuu isaaniif hin hafu. 2 Isin
warra maqaa koo kabajjaniif garuu Aduun qajeelummaa qoochoo isaa jalatti fayyina
qabatee ni ba’a. Isinis baatanii akkuma jabbii golaa gad dhiifamteetti burraaqxu.
3 Ergasii isin hamoota ni dhidhiittu; isaanis guyyaa ani wantoota kanneen hojjedhutti
faana miilla keessanii jalatti daaraa ni ta’u” jedha WAAQAYYO Waan Hunda Danda’u.
4 “Seera garbicha koo Musee, sirnaa fi ajaja ani Israa’eloota hundaaf Kooreebitti
isatti kenne sana yaadadhaa.
5 “Kunoo ani, guyyaan WAAQAYYOO inni guddaanii fi sodaachisaan sun utuu hin
dhufin dura Eeliyaas raajicha isiniif nan erga. 6 Inni qalbii abbootii gara ijoolleetti,
qalbii ijoollee immoo gara abbootiitti ni deebisa; yoo kanaa achii ani dhufee
abaarsaan biyyattii nan rukuta.”

# Wangeela
# Maatewos

*Hidda Dhaloota Yesuus Kiristoos*
*1:1-17 kwf – Luq 3:23-38*
*1:3-6 kwf – Rut 4:18-22*
*1:7-11 kwf – 1Sn 3:10-17*

1 Hiddi dhaloota Yesuus Kiristoos sanyii Daawit, sanyii Abrahaam ta’e sanaa kanaa dha:

2 Abrahaam Yisihaaqin dhalche;
Yisihaaq Yaaqoobin dhalche;
Yaaqoob Yihuudaa fi obboloota isaa dhalche;
3 Yihuudaan Taamaar irraa Faaresii fi Zeraa dhalche;
Faares Hezroonin dhalche;
Hezroon Arraamin dhalche;
4 Arraam Amiinaadaabin dhalche;
Abiinaadaab Nahishoonin dhalche;
Nahishoon Salmoonin dhalche;
5 Salmoon Rahaab irraa Bo’eezin dhalche;
Bo’eez Ruut irraa Yoobeedin dhalche;
Yoobeed Isseeyin dhalche;
6 Isseey Daawit Mooticha dhalche.

Daawit niitii Uuriyaa irraa Solomoonin dhalche;
7 Solomoon Rehoobo’aamin dhalche;
Rehoobo’aam Abiyaa dhalche;
Abiyaan Asaafin dhalche;
8 Asaaf Yehooshaafaaxin dhalche;
Yehooshaafaax Yehooraamin dhalche;
Yehooraam Uziyaan dhalche;
9 Uziyaan Yootaamin dhalche;
Yootaam Akaazin dhalche;
Akaaz Hisqiyaasin dhalche;
10 Hisqiyaas Minaasee dhalche;
Minaaseen Aamoonin dhalche;
Aamoon Yosiyaasin dhalche;
11 Yosiyaas bara boojuu Baabilon keessa, Yekooniyaanii fi obboloota isaa dhalche.

12 Boojuu Baabilon booddee,
Yekooniyaan She’altii’eelin dhalche;
She’altii’eel Zarubaabelin dhalche;
13 Zarubaabel Abiyuudin dhalche;
Abiyuud Eliyaaqeemin dhalche;
Eliyaaqeem Azoorin dhalche;
14 Azoor Zaadoqin dhalche;
Zaadoq Akiimin dhalche;
Akiim Eliyuudin dhalche;
15 Eliyuud Ele’aazaarin dhalche;

Ele'aazaar Maattaanin dhalche;
Maattaan Yaaqoobin dhalche;
16 Yaaqoob Yoosefin dhalche; Yoosef kunis dhirsa Maariyaam ishee Yesuus isa Kiristoos jedhamu deesse sanaa ti.

17 Egaa walumaa galatti Abrahaamii hamma Daawititti dhaloota kudha afur, Daawitii hamma boojuu Baabilonitti dhaloota kudha afur, boojuu Baabilonii hamma Kiristoosiitti dhaloota kudha afurtu ture.

*Dhalachuu Yesuus Kiristoos*

18 Dhalachuun Yesuus Kiristoos akkana ture: Haati isaa Maariyaam kaadhima
Yoosef turte; isheenis utuu Yoosef wajjin wal bira hin ga'in Hafuura Qulqulluudhaan
ulfooftee argamte. 19 Yoosef kaadhimni ishee sunis nama qajeelaa waan tureef,
dhoksaadhaan ishee dhiisuu murteesse malee uummata duratti ishee qaanessuu hin
barbaanne.
20 Utuu inni waan kana yaadaa jiruu, ergamaan Gooftaa abjuu keessa itti mul'atee
akkana jedheen; "Yaa Yoosef ilma Daawit, kaadhimni kee Maariyaam Hafuura
Qulqulluudhaan waan ulfoofteef ishee fuudhuu hin sodaatin. 21 Isheen ilma deessi;
atis maqaa isaa Yesuus jettee ni moggaafta; inni saba isaa cubbuu isaanii irraa ni
fayyisaatii."
22 Kun hundinuu akka wanni Gooftaan karaa raajichaatiin dubbate sun raawwata-
muuf ta'e. 23 Innis, "Kunoo, durbi tokko ni ulfoofti; ilma ni deessi; maqaa isaas
Amaanu'el jedhu"* jedha. Amaanu'el jechuunis, "Waaqni nu wajjin jira" jechuu dha.
24 Yoosefis hirribaa dammaqee akkuma ergamaan Gooftaa isa ajajetti Maariyaamin
niitummaadhaan mana isaatti fudhate. 25 Garuu inni hamma isheen ilma deessutti
ishee bira hin geenye. Maqaa isaas, "Yesuus" jedhee moggaase.

# 2

*Beektonni Kiristoosin Daawwatan*

1 Bara Heroodis Mootichaa keessa, erga Yesuus magaalaa Beetlihem Yihuudaatti
argamtu keessatti dhalatee booddee, beektonni ba'a biiftuutii gara Yerusaalem
dhufan; 2 isaanis, "Mootiin Yihuudootaa inni dhalate sun eessa jira? Nu urjii isaa
ba'a biiftuutti arginee isaaf sagaduu dhufneerra" jedhanii gaafatan.
3 Heroodis Mootichi yommuu waan kana dhaga'etti ni jeeqame; Yerusaalemis
guutummaatti isa wajjin jeeqamte. 4 Innis luboota hangafootaa fi barsiistota seeraa
hunda saba keessaa walitti qabee, Kiristoos eessatti akka dhalatu isaan gaafate.
5-6 Isaanis akkana jedhanii deebisaniif; "Beetlihem Yihuudaatti dhalata; kunis dubbii
raajichi,
" 'Yaa Beetlihem ishee biyya Yihuudaa,
ati gonkumaa bulchitoota Yihuudaatii gad miti;
bulchaan saba koo Israa'elin tiksu
si keessaa ni ba'aatii'*
jedhee barreesse sanaa dha."
7 Ergasii Heroodis beektota sana dhoksaatti waamee yeroo itti urjiin sun mul'ate
isaan irraa hubate. 8 Innis, "Dhaqaatii jabeessaa mucicha barbaadaa. Yeroo
argitanitti immoo akka anis dhufee isaaf sagaduuf natti himaa" jedhee Beetlihemitti
isaan erge.
9 Isaanis erga waan mootichi jedhe sana dhaga'anii booddee karaa isaanii itti
fufan; urjiin isaan ba'a biiftuutti argan sunis hamma iddoo mucichi ture ga'ee
dhaabatutti isaan dura deeme. 10 Isaanis yeroo urjii sana arganitti akka malee

* **1:23** 1:23 Isa 7:14 * **2:5-6** 2:6 Mik 5:2,4

gammadan. 11 Akkuma mana ol seenaniinis mucicha, haadha isaa Maariyaam wajjin
argan; kufaniis sagadaniif. Qorxii isaaniis bananii kennaa warqee, ixaanaa fi qumbii
dhi'eessaniif. 12 Beektonnis akka gara Heroodisitti hin deebineef waan abjuudhaan
of eeggachiisni isaaniif kennameef karaa biraatiin biyya isaaniitti deebi'an.

*Gibxitti Baqachuu Isaanii*

13 Yommuu beektonni sun deemanitti, kunoo ergamaan Gooftaa abjuudhaan
Yoosefitti mul'atee, "Sababii Heroodis mucicha ajjeesuu barbaaduuf ka'iitii muciichaa
fi haadha isaa fudhadhuutii Gibxitti baqadhu. Hamma ani yeroo ati itti deebitu sitti
himutti achuma turi" jedheen.

14 Kanaafuu Yoosef ka'ee mucichaa fi haadha isaa halkaniin fudhatee Gibxitti
qajeele; 15 hamma Heroodis du'uttis achi jiraate. Kunis akka wanni Gooftaan karaa
raajichaatiin, "Ani Gibxii ilma koo waameera"† jedhe sun raawwatamuuf ta'e.

16 Heroodis yommuu akka beektonni sun isa gowwoomsan hubatetti akka malee
aare; innis akka yeroo beektota sana irraa bareetti, ijoollee dhiiraa warra umuriin
isaanii waggaa lamaa fi hammasii gad ta'e kanneen Beetlihemii fi naannoo ishee
keessa jiraatan hunda nama itti ergee ficcisiise. 17 Kanaanis wanni Ermiyaas raajichi
dubbate ni raawwatame. Innis akkana jedha:

18 "Sagaleen boo'ichaatii fi wawwaannaa guddaan tokko
Raamaa keessaa dhaga'ame;
sababii isaan hin jirreef,
Raahel ijoollee isheetiif boo'aa jirti;
jajjabaachuus ni didde."‡

*Naazreetitti Deebi'uu Isaanii*

19 Erga Heroodis du'ee booddee, ergamaan Gooftaa tokko Gibxitti abjuudhaan
Yoosefitti mul'atee, 20 "Warri lubbuu mucichaa barbaadan waan du'aniif ka'iitii
mucicha haadha isaa wajjin fudhadhuutii biyya Israa'el dhaqi" jedheen.

21 Kanaafuu Yoosef ka'ee mucichaa fi haadha isaa fudhatee biyya Israa'el dhaqe.
22 Garuu yommuu akka Arkelaawoos iddoo abbaa isaa, iddoo Heroodis Yihuudaa
irratti mo'e dhaga'etti achi dhaquu sodaate; abjuudhaanis waan of eeggachiisni isaaf
kennameef gara aanaa Galiilaa deeme; 23 achis dhaqee magaalaa Naazreeti jedhamtu
keessa jiraate. Kunis dubbiin, "Inni Naaziricha jedhamee ni waamama" jedhamee
karaa raajotaatiin dubbatame sun akka raawwatamuuf ta'e.

# 3

*Lallaba Yohannis Cuuphaa*
*3:1-12 kwf – Mar 1:3-8; Luq 3:2-17*

1 Bara sana Yohannis Cuuphaan gammoojjii Yihuudaa keessatti lallabaa dhufe;
2 innis, "Mootummaan samii dhi'aateeraatii qalbii jijjiirradhaa" jedhe. 3 Kunis isa
waa'een isaa karaa Isaayyaas raajichaatiin,

"Sagalee nama, 'Gooftaadhaaf karaa qopheessaa;
daandii qajeelaas isaaf hojjedhaa'
jedhee gammoojjii keessaa iyyu tokkoo"*
jedhamee dubbatame sanaa dha.

4 Uffanni Yohannis rifeensa gaalaa irraa hojjetame; innis mudhii isaatti sabbata
teephaa hidhata ture. Nyaanni isaa immoo hawwaannisaa fi damma bosonaa ture.
5 Namoonnis Yerusaalem irraa, Yihuudaa hundaa fi biyya naannoo Yordaanos guutuu
irraa gara isaa dhaqaa turan. 6 Cubbuu isaaniis himachaa, Laga Yordaanos keessatti
isaan cuuphamaa turan.

† **2:15** 2:15 Hos 11:1 ‡ **2:18** 2:18 Erm 31:15 * **3:3** 3:3 Isa 40:3

7 Inni garuu yommuu Fariisotaa fi Saduuqota keessaa baay'een isaanii utuu gara
iddoo inni itti cuuphaa turee dhufanuu argetti akkana jedheen; "Isin ijoollee buutii
nana! Dheekkamsa dhufu jalaa akka baqattaniif eenyutu isinitti hime? 8 Egaa
ija qalbii jijjiirrannaa mirkaneessu naqadhaa. 9 Isin, 'Abbaan keenya Abrahaamii
dha' ofiin jechuu waan dandeessan hin se'inaa. Waaqni dhagoota kanneen irraa
Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u ani isinittan himaatii. 10 Qottoon amma
iyyuu hidda mukkeenii irra kaa'ameera; mukti ija gaarii hin naqanne hundinuus
muramee ibiddatti darbatama.
11 "Ani qalbii jijjiirrannaadhaafin bishaaniin isin cuupha. Inni na duubaan dhufu
garuu na caalaa jabaa dha; ani kophee isaa iyyuu baachuuf hin malu. Inni Hafuura
Qulqulluu fi ibiddaan isin cuupha. 12 Inni afarsaa ittiin midhaan qulleessu of harkaa
qaba; qamadii isaa gombisaatti naqata; oobdii isaa ni qulqulleessa; habaqii garuu
ibidda hin dhaamneen guba."

### *Cuuphamuu Yesuus*
*3:13-17 kwf – Mar 1:9-11; Luq 3:21,22; Yoh 1:31-34*

13 Yesuus ergasii Yohannisiin cuuphamuuf Galiilaadhaa gara Laga Yordaanos dhufe.
14 Yohannis garuu, "Ani siin cuuphamuu na barbaachisa; ati immoo gara koo
dhuftaa?" jedhee isa dhowwe.
15 Yesuusis deebisee, "Ammaaf akkanuma haa ta'uu dhiisi; nu qajeelummaa hunda
raawwachuudhaaf waan kana gochuu qabnaatii" jedheen. Yohannisis isa dhowwuu
dhiise.
16 Yesuusis akkuma cuuphameen bishaan keessaa ol ba'e. Innis yommusuma
samiin banamee, utuu Hafuurri Waaqaa akkuma gugeetti gad bu'ee isa irras qubatuu
arge. 17 Sagaleen tokkos samii irraa, "Kun Ilma koo isa ani jaalladhuu dha; isatti
baay'ee nan gammada" jedhe.

## 4

### *Yesuus Qoramuu Isaa*
*4:1-11 kwf – Mar 1:12-13; Luq 4:1-13*

1 Ergasii Yesuus akka diiyaabiloosiin qoramuuf Hafuuraan gammoojjiitti geeffame.
2 Innis erga guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama soomee booddee ni beela'e. 3 Inni
nama qoru sun gara isaa dhufee, "Ati yoo Ilma Waaqaa taate, akka dhagoonni
kunneen buddeena ta'an ajaji" jedheen.
4 Yesuus immoo deebisee, " 'Namni dubbii afaan Waaqayyootii ba'u hundaan malee
buddeena qofaan hin jiraatu'*jedhamee barreeffameera" jedheen.
5 Ergasii diiyaabiloos gara magaalaa qulqulluutti isa geessee fiixee mana qulqul-
lummaa irra dhaabachiise. 6 Akkanas jedheen; "Ati yoo Ilma Waaqaa taate, gad of
darbadhu. Akkana jedhamee barreeffameeraatii:
" 'Inni ergamoota isaa siif ni ajaja;
isaanis akka ati miilla keetiin dhagaatti hin buuneef,
harka isaaniitiin ol si fuudhu.'†"
7 Yesuus immoo deebisee, " 'Waaqa kee Gooftícha hin qorin'‡jedhamee barreef-
fameera" jedheen.
8 Ammas diiyaabiloos tulluu akka malee ol dheeraa tokkotti ol isa baasee
mootummoota addunyaa hundaa fi ulfina isaanii isatti argisiise. 9 Akkanas jedheen;
"Yoo ati gad jettee naaf sagadde, waan kana hundumaa siifin kenna."
10 Yesuusis, "Seexana nana, narraa fagaadhu! 'Waaqa kee Gooftichaaf sagadi;
isuma qofa tajaajili'§jedhamee barreeffameeraatii" jedheen.

---
* **4:4** 4:4 KeD 8:3 † **4:6** 4:6 Far 91:11,12 ‡ **4:7** 4:7 KeD 6:16 § **4:10** 4:10 KeD 6:13

11 Diiyaabiloosis isa dhiisee deeme; ergamoonni immoo dhufanii isa tajaajilan.

### *Yesuus Lallaba Jalqabuu Isaa*

12 Yesuus yommuu akka Yohannis mana hidhaatti galfame dhaga'etti Galiilaatti
deebi'e. 13 Innis Naazreetii ba'ee gara Qifirnaahom ishee biyya Zebuuloonii fi
Niftaalem keessatti qarqara galaanaatti argamtu sanaa dhaqee achi jiraate; 14 kunis
akka dubbiin karaa Isaayyaas raajichaatiin dubbatame sun raawwatamuuf ta'e;
dubbichis akkana jedha:

15 "Biyyi Zebuuloonii fi biyyi Niftaalem
kanneen Yordaanos gama,
qarqara Daandii Galaanaa irra jiran,
Galiilaan Namoota Ormaas,
16 sabni dukkana keessa jiraatu,
ifa guddaa argeera;
warra biyya gaaddidduu du'aa keessa jiraataniifis,
ifni ba'eera."*

17 Yesuus yeroo sanaa jalqabee, "Mootummaan samii dhi'aateeraatii qalbii jijjiir-
radhaa" jedhee lallabuutti ka'e.

### *Waamamuu Barattoota Jalqabaa*
*4:18-22 kwf – Mar 1:16-20; Luq 5:2-11; Yoh 1:35-42*

18 Yesuus utuu qarqara Galaana Galiilaa irra deemaa jiruu, obboloota lama
jechuunis Simoon isa Phexros jedhamuu fi obboleessa isaa Indiriiyaasin arge. Isaanis
qurxummii qabdoota waan ta'aniif kiyyoo galaanatti darbachaa turan. 19 Yesuusis,
"Kottaa, na duukaa bu'aa; anis akka isin qabduu namootaa taataniif isin nan erga"
jedheen. 20 Isaanis yommusuma kiyyoo isaanii dhiisanii isa duukaa bu'an.
21 Innis utuu achii ka'ee deemuu obboloota gara biraa lama jechuunis Yaaqoob ilma
Zabdewoosii fi obboleessa isaa Yohannisin arge. Isaanis abbaa isaanii Zabdewoos
wajjin kiyyoo isaanii qopheeffachaa bidiruu keessa turan. Yesuusis isaan waame;
22 isaanis yommusuma bidiruu sanaa fi abbaa isaanii dhiisanii isa duukaa bu'an.

### *Yesuus Dhukkubsattoota Fayyisuu Isaa*

23 Yesuus manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, wangeela mootummaa
lallabaa, dhibee fi dhukkuba saba keessa jiru hunda fayyisaa Galiilaa guutuu keessa
deeme. 24 Oduun waa'ee isaas Sooriyaa hunda keessatti dhaga'ame; namoonnis
warra dhukkuba garaa garaatiin qabaman, warra dhukkuba hamaan dhiphatan,
warra hafuura hamaan qabaman, warra dhukkuba gaggabdootiin dhiphatanii fi
warra dhagni irratti du'e isatti fidan; innis isaan fayyise. 25 Tuunni namoota
baay'ees Galiilaadhaa, Magaalaa Kurnanii, Yerusaalemii, Yihuudaa fi biyya Yordaanos
gamaatii isa duukaa bu'e.

## 5

### *Warra Eebbifamoo*
*5:3-12 kwf – Luq 6:20-23*

1 Yesuus yommuu namoota baay'ee argetti, tulluutti ol ba'ee taa'e. Barattoonni
isaas gara isaa dhufan; 2 innis isaan barsiisuu jalqabe. Akkanas jedhe:

3 "Warri hafuuraan hiyyeeyyii ta'an eebbifamoo dha;
mootummaan samii kan isaaniitii.
4 Warri gaddan eebbifamoo dha;
jajjabina ni argatuutii.

* **4:16** 4:16 Isa 9:1,2

5 Warri garraamiin eebbifamoo dha;
lafa ni dhaaluutii.
6 Warri qajeelummaa beela’anii fi dheebotan eebbifamoo dha;
isaan ni quufuutii.
7 Araara qabeeyyiin eebbifamoo dha;
araara ni argatuutii.
8 Warri garaan isaanii qulqulluu eebbifamoo dha;
Waaqa ni arguutii.
9 Warri nagaa buusan eebbifamoo dha;
ijoollee Waaqaa ni jedhamuutii.
10 Warri qajeelummaadhaaf jedhanii ari’ataman eebbifamoo dha;
mootummaan samii kan isaaniitii.
11 “Yommuu namoonni sababii kootiif jedhanii isin arrabsan, yommuu isin
ari’atanii fi yommuu waan hamaa gosa hundaa sobaan isin irratti dubbatan isin
eebbifamoo dha. 12 Sababii gatiin keessan samii keessatti guddaa ta’eef ililchaa;
gammadaas; isaan raajota isin dura turanis haaluma kanaan ari’ataniiruutii.

### *Soogiddaa fi Ifa*

13 “Isin soogidda lafaa ti. Garuu soogiddi yoo mi’aa isaa dhabe, mi’aan isaa
akkamiin deebifamuu danda’a? Gad gatamee miillaan dhidhiitama malee si’achi
waan tokko illee hin fayyadu.
14 “Isin ifa addunyaa ti. Magaalaan gaara gubbaa jiru tokko dhokachuu hin
danda’u. 15 Yookaan namoonni ibsaa qabsiisanii gombisaa jala hin kaa’an. Qooda
kanaa baattuu isaa irra kaa’u; ibsaan sunis namoota mana keessa jiran hundaaf ifa
kenna. 16 Akka namoonni hojii keessan isa gaarii arganii abbaa keessan kan samii
irraatiif ulfina kennaniif ifni keessanis akkasuma fuula namootaa duratti haa ifu.

### *Raawwatamuu Seeraa*

17 “Isin waan ani Seera yookaan Raajota diiguu dhufe hin se’inaa; ani isaan
raawwachuuf malee diiguuf hin dhufne. 18 Ani dhuguman isinitti hima; hamma samii
fi lafti darbanitti, Seerri guutummaatti raawwatama malee seericha keessaa qubeen
tokko iyyuu, tuqaan xinnoon ishee iyyuu gonkumaa hin baddu. 19 Kanaafuu namni
ajajawwan kanneen keessaa xinnaa isaa illee diigu, kan akka warri kaanis diiganiif
barsiisu kam iyyuu mootummaa samii keessatti xinnaa jedhama; namni ajajawwan
kanneen eeguu fi kan warra kaanis barsiisu kam iyyuu garuu mootummaa samii
keessatti guddaa jedhama. 20 Ani isinittin hima; qajeelummaan keessan qajeelummaa
Fariisotaatii fi qajeelummaa barsiistota seeraa yoo caaluu baate isin dhugumaan
mootummaa samiitti hin galtan.

### *Nama Ajjeesuu*
*5:25,26 kwf – Luq 12:58,59*

21 “Isin akka bara dheeraan dura namootaan, ‘Hin ajjeesin; nama ajjeese kamitti
iyyuu ni muramaa’*jedhame dhageessaniirtu. 22 Ani garuu isinittin hima; nama
obboleessa isaatti dheekkamu hundumaa murtiitu eeggata. Namni obboleessa
isaatiin *‘Raatuu’* jedhu hundis murtii waldaatti dhi’aata. Nama obboleessa isaatiin
‘Doofaa nana!’ jedhu immoo ibidda gahaannamtu isa eeggata.
23 “Kanaafuu ati yeroo kennaa kee iddoo aarsaatti dhi’eessitutti yoo akka obboleessi
kee komii sirraa qabu yaadatte, 24 kennaa kee achuma iddoo aarsaa duratti dhiisii
dhaqiitii duraan dursii obboleessa keetti araarami; ergasii kottuutii kennaa kee
dhi’eessi.

* **5:21** 5:21 Bau 20:13

25 “Amajaajii kee isa mana murtiitti si geessaa jiru wajjin dafii walii gali. Kanas
utuma isa wajjin karaa jirtuu godhi; yoo kanaa achii amajaajiin kee dabarsee abbaa
seeraatti si kenna; abbaan seeraa immoo poolisiitti si kenna; atis mana hidhaatti
darbatamta. 26 Ani dhuguman sitti hima; ati hamma saantima ishee dhumaa baaftutti
achii hin baatu.

### *Ejja*

27 “Isin akka, ‘Hin ejjin’†jedhame dhageessaniirtu. 28 Ani garuu isinittin hima;
namni hawwiidhaan dubartii ilaalu hundinuu yaada isaatti ishee wajjin ejjeera.
29 Yoo iji kee mirgaa si gufachiise, of keessaa baasii gati. Dhagni kee guutuun
gahaannamitti darbatamuu irra, kutaa dhagna keetii keessaa tokko dhabuu siif
wayyaatii. 30 Yoo harki kee mirgaa si gufachiise of irraa murii gati. Dhagni kee
guutuun gahaannamitti galuu irra, kutaa dhagna keetii keessaa tokko dhabuu siif
wayya.

### *Wal Hiikuu Dhirsaa fi Niitii*

31 “Namni niitii isaa hiiku kam iyyuu, ‘Waraqaa ragaa hiikkaa haa ken-
nuuf’‡jedhameera. 32 Ani garuu isinittin hima; namni utuu isheen halalummaa hin
hojjetin niitii isaa hiiku kam iyyuu akka isheen ejjitu ishee taasisa; namni dubartii
hiikamte fuudhu kam iyyuus ni ejja.

### *Kakaa*

33 “Ammas akka warra duriitiin, ‘Waan kakatte Gooftaadhaaf guuti malee sobaan
hin kakatin’§jedhame dhageessaniirtu. 34 Ani garuu isinittin hima; gonkumaa hin
kakatinaa: samiidhaan hin kakatinaa; inni teessoo Waaqaatii; 35 yookaan lafaan hin
kakatinaa; isheen ejjeta miilla isaatii; yookaan Yerusaalemiin hin kakatinaa; isheen
magaalaa Mooticha Guddaatii. 36 Mataa keetiinis hin kakatin; ati rifeensa tokko illee
addeessuu yookaan gurraachesuu hin dandeessuutii. 37 Wanni isin jechuu qabdan,
‘Eeyyee’ yookaan ‘Waawuu’ haa ta’u; wanni kanaa achii kam iyyuu isa hamaa sana
irraa dhufa.

### *Qooda Ijaa, Ija*

38 “ ‘Qooda ijaa, ija; qooda ilkaanii immoo ilkaan’*akka jedhame dhageessaniirtu.
39 Ani garuu isinittin hima. Nama hamaadhaan hin morkatinaa. Yoo namni tokko
maddii kee mirgaa si kabale, kaanis itti qabi. 40 Yoo namni tokko si himatee kittaa
kee sirraa fudhate, kootii kees kenniif. 41 Yoo namni tokko akka ati gara kiiloo meetira
tokkoo fi walakkaa isa wajjin deemtu si dirqisiise, ati immoo gara kiiloo meetira sadii
isa wajjin deemi. 42 Nama si kadhatuuf kenni; nama sirraa liqeeffachuu barbaaduttis
dugda hin garagalchin.

### *Diina Jaallachuu*

43 “ ‘Ollaa kee jaalladhu;†diina kee jibbi’ akka jedhame dhageessaniirtu. 44 Ani
garuu isinittin hima; diinota keessan jaalladhaa; warra isin ari’ataniifis kadhadhaa;
45 kanaanis abbaa keessan kan samii irraatiif ijoollee ni taatu. Inni warra hamoo fi
warra gaggaariidhaaf aduu isaa ni baasa; qajeeltotaa fi jal’ootaafis bokkaa ni roobsa.
46 Isin warra isin jaallatan qofa yoo jaallattan gatii maalii argattu? Kana immoo
qaraxxoonni iyyuu ni godhu mitii? 47 Isin yoo obboloota keessan qofa nagaa gaafattan
warra kaan caalaa maal hojjechuutti jirtu? Kana immoo ormoonni iyyuu ni godhu
mitii? 48 Akkuma abbaan keessan inni samii irraa mudaa hin qabne sana, isinis warra
mudaa hin qabne ta’aa.

---

† **5:27** 5:27 Bau 20:14 ‡ **5:31** 5:31 KeD 24:1 § **5:33** 5:33 Lew 19:12; Lak 30:2 * **5:38** 5:38 Bau 21:24; Lew 24:20; KeD 19:21 † **5:43** 5:43 Lew 19:18

# 6

### *Rakkataaf Waa Kennuu*

1 “Akka isaan isin arganiif jettanii ‘Hojii qajeelummaa’ keessan fuula namootaa
duratti akka hin hojjenneef of eeggadhaa. Yoo akkas gootan abbaa keessan kan samii
irraa biraa gatii hin qabaattaniitii.
2 “Kanaafuu ati yommuu warra rakkataniif waa kennitutti akka fakkeessitoonni
namoota biratti jajamuuf jedhanii manneen sagadaa keessattii fi karaa irratti godhan
sana malakataan hin labsatin. Ani dhuguman isinitti hima; isaan gatii isaanii
argataniiru. 3 Yeroo ati rakkattootaaf waa kennitutti garuu waan harki kee mirgaa
godhu, harki kee bitaa hin beekin; 4 kunis akka kennaan kee dhoksaan ta’uuf. Abbaan
kee inni waan dhoksaatti hojjetamu argu sun ifaan ifatti gatii siif kenna.

### *Kadhannaa*
*6:9-13 kwf – Luq 11:2-4*

5 “Isin yommuu kadhattan akka fakkeessitootaa hin ta’inaa; isaan namatti
mul’achuuf jedhanii manneen sagadaa keessaa fi golee karaa irra dhaabatanii
kadhachuu jaallatuutii. Ani dhuguman isinitti hima; isaan gatii isaanii argataniiru.
6 Ati garuu yeroo kadhattu mana keetti ol gali; balbala cufadhuutii Abbaa kee isa
hin mul’anne sana kadhadhu. Abbaan kee inni waan dhoksaatti hojjetamu argu
sun ifaan ifatti gatii siif kenna. 7 Isinis yommuu kadhattan akka ormootaa dubbii
faayidaa hin qabne irra hin deddeebi’inaa; isaan baay’ina dubbii isaaniitiin waan
isaaniif dhaga’amu se’u. 8 Isin akka isaanii hin ta’inaa; abbaan keessan utuma isin
hin kadhatin iyyuu waan isin barbaachisu ni beekaatii.
9 “Egaa akkana jedhaa kadhadhaa:
“ ‘Yaa Abbaa keenya kan samii irra jirtu,
maqaan kee haa qulqullaa’u;
10 mootummaan kee haa dhufu;
fedhiin kee akkuma samii irratti ta’e sana,
lafa irrattis haa ta’u.
11 Buddeena keenya kan guyyuma guyyaa har’a nuu kenni.
12 Akkuma nu warra yakka nutti hojjetaniif dhiifnu sana,
atis yakka keenya nuuf dhiisi.
13 Isa hamaa jalaa nu baasi malee qoramatti nu hin galchin.’*
Mootummaan, humni, ulfinnis bara baraan kan kee ti.
Ameen.†
14 Yoo isin namootaaf cubbuu isaanii dhiiftan, Abbaan keessan inni samii irraas
akkasuma isiniif dhiisaatii. 15 Yoo isin namootaaf cubbuu isaanii dhiisuu baattan
garuu, Abbaan keessanis akkasuma cubbuu keessan isiniif hin dhiisu.

### *Sooma*

16 “Isin yommuu soomtanitti akka fakkeessitootaa fuula hin dukkaneeffatinaa;
isaan akka soomuutti jiran argisiifachuuf jedhanii fuula isaanii hammeessu. Ani
dhuguman isinitti hima; isaan gatii isaanii argataniiru. 17 Ati garuu yeroo soomtu
mataa kee dibadhu; fuula kees dhiqadhu. 18 Kunis akka sooma kee sana abbaa kee
isa namatti hin mul’anne malee namni hin beekneefii dha. Abbaan kee inni waan
dhoksaatti hojjetamu argu sun gatii kee ifaan ifatti siif kenna.

### *Badhaadhummaa Samii Irraa*
*6:22-23 kwf – Luq 11:34-36*

---

* **6:13** 6:13 Akka Giriikotaatti qoramatti jechuun qormaatatti jechuu. † **6:13** 6:13 Yookaan isa hamaa jalaa hiikkaawwan durii tokko tokko jecha isa / Mootummaan, humni, ulfinnis bara baraan kan kee ti. Ameen jedhu hin qaban.

19 “Isin iddoo itti bilii fi daana’oon balleessituu fi iddoo itti hattuun cabsitee hattu
lafa irratti badhaadhummaa ofii keessaniif hin kuufatinaa. 20 Garuu iddoo itti bilii
fi daana’oon nyaattee hin balleessinee fi iddoo itti hattuun cabsitee hin hanne samii
irratti badhaadhummaa ofii keessaniif kuufadhaa. 21 Idduma badhaadhummaan kee
jiru sana garaan kees jiraatii.
22 “Iji ibsaa dhagnaa ti. Iji kee fayyaa taanaan, dhagni kee guutuun ifaan guutama.
23 Yoo iji kee fayyaa hin ta’in garuu, dhagni kee guutuun ni dukkanaa’a. Erga ifni si
keessa jiru sun dukkanaa’ee, dukkanni sun hammam haa jabaatu ree!
24 “Namni gooftota lama tajaajiluu danda’u tokko iyyuu hin jiru. Isa tokko jibbitee
isa kaan jaallattaatii; yookaan isa tokkoof of kennitee isa kaan immoo tuffatta. Isinis
Waaqaa fi Maallaqa tajaajiluu hin dandeessan.

*Hin Yaadda’inaa*
*6:25-33 kwf – Luq 12:22-31*

25 “Kanaafuu ani isinittin hima; ‘Maal nyaanna yookaan maal dhugna?’ jettanii
waa’ee jireenya keessanii hin yaadda’inaa; yookaan ‘maal uffanna?’ jettanii waa’ee
dhagna keessanii hin yaadda’inaa. Jireenyi nyaata hin caaluu? Dhagnis uffata
hin caaluu? 26 Mee simbirroota samii ilaalaa; isaan hin facaafatan yookaan hin
haammatan yookaan gombisaatti hin galfatan; ta’us Abbaan keessan inni samii irraa
isaan soora. Isin immoo isaan caalaa gatii guddaa qabdu mitii? 27 Isin keessaa namni
yaadda’uudhaan hojjaa isaa irratti dhundhuma tokko dabalachuu danda’uu eenyu?
28 “Isin maaliif waa’ee uffataa yaaddoftu? Daraaraawwan dirree akkamitti akka
guddatan mee ilaalaa. Isaan hin dhama’an yookaan hin fo’an. 29 Ani garuu isinittin
hima; Solomoon iyyuu ulfina isaa hunda keessatti, akka tokkoo isaaniitti hin uffanne.
30 Isin yaa warra amantii xinnoo nana. Waaqni erga marga dirree kan har’a jiruu
fi kan bor immoo ibiddatti naqamutti iyyuu akkasitti uffisee, isinitti immoo guddaa
caalchisee hin uffisuu ree? 31 Kanaafuu, ‘Maal nyaanna?’ yookaan ‘Maal dhugna?’
yookaan ‘Maal uffanna?’ jettanii hin yaadda’inaa. 32 Kana hunda ormoonni iyyuu
ni barbaaduutii; Abbaan keessan inni samii irraas akka wanni kun hundinuu isin
barbaachisu ni beeka. 33 Garuu duraan dursaatii mootummaa isaatii fi qajeelummaa
isaa barbaadaa; wanni kun hundinuu akkasuma isiniif kennama. 34 Kanaafuu waa’ee
boriitiif hin yaadda’inaa; bor ofii isaatiif ni yaadda’aatii. Hamminni guyyaa sanaa
mataan isaa guyyicha ni ga’a.

# 7

*Nama Kaanitti Muruu*
*7:3-5 kwf – Luq 6:41,42*

1 “Akka isinitti hin muramneef namoota kaanitti hin murinaa. 2 Murtiidhuma isin
namatti murtaniin isinitti muramaatii; safartuu ittiin safartaniinis isiniif safarama.
3 “Ati maaliif jirma ija kee keessa jiru arguu dhiiftee huuba ija obboleessa keetii
keessa jiru ilaalta? 4 Ati utuu jirmi ija kee keessa jiruu akkamitti obboleessa
keetiin, ‘Kottu mee ani huuba ija kee keessa jiru siif nan baasa’ jechuu dandeessa?
5 Fakkeessituu nana; duraan dursiitii jirma ija kee keessa jiru baafadhu; ergasiis
huuba ija obboleessa keetii keessa jiru baasuudhaaf sirriitti argita.
6 “Waan qulqulluu sarootaaf hin kenninaa; lula keessanis booyyee dura hin
buusinaa. Yoo kana gootan isaan miilla isaaniitiin dhidhiitu; gara galanis isin cicciru.

*Kadhadhaa, Barbaadaa, Balbala Rurrukutaa*
*7:7-11 kwf – Luq 11:9-13*

7 “Kadhadhaa, isiniif ni kennamaa; barbaadaa, ni argattuu; rurrukutaa, balballi
isiniif ni banamaa. 8 Namni kadhatu hundi ni argataatii; namni barbaadu ni argata;
nama rurrukutuufis balballi ni banama.

9 “Isin keessaa namni yoo ilmi isaa buddeena isa kadhate, dhagaa kennuuf eenyu?
10 Yookaan yoo inni qurxummii isa kadhate, bofa kennuuf eenyu? 11 Erga isin warri
hamoon iyyuu kennaa gaarii ijoollee keessaniif kennuu beektanii, abbaan keessan
inni samii irraa immoo hammam caalchisee warra isa kadhataniif kennaa gaarii haa
kennuu ree! 12 Kanaafuu waan akka namoonni isiniif godhan barbaaddan hundumaa
isinis akkasuma isaaniif godhaa; Seerris Raajonnis kanumaatii.

*Karra Dhiphaa fi Karra Bal’aa*

13 “Karra dhiphaadhaan seenaa. Karaan badiisatti geessu bal’aadhaatii; karri isaas
bal’aa dha; namoonni ittiin seenanis baay’ee dha. 14 Garuu karri isaa dhiphaa dha;
karaan jireenyatti nama geessu qal’aa dha; warri isa argatanis muraasa.

*Mukaa fi Ija Isaa*

15 “Raajota sobaa warra kal’ee hoolaa uffatanii gara keessan dhufan, kanneen
keessi isaanii garuu yeeyyii akka malee beela’ee waa cicciratu ta’e irraa of eeggadhaa.
16 Isin ija isaaniitiin isaan beektu. Namoonni qoraattii irraa wayinii yookaan
sokorruu irraa harbuu ni ciruu? 17 Akkasumas mukni gaariin hundumtuu ija gaarii
naqata; mukni gadheen immoo ija gadhee naqata. 18 Mukni gaariin ija gadhee
naqachuu hin danda’u; mukni gadheenis ija gaarii naqachuu hin danda’u. 19 Mukni
ija gaarii hin naqanne hundi muramee ibiddatti naqama. 20 Kanaaf isin ija isaaniitiin
isaan beektu.

21 “Nama fedhii Abbaa koo isa samii irraa raawwatu malee namni, ‘Yaa Gooftaa, yaa
Gooftaa’ naan jedhu hundi mootummaa samiitti hin galu. 22 Guyyaa sana namoonni
hedduun, ‘Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa, nu maqaa keetiin raajii dubbanneerra mitii?
Maqaa keetiin hafuurota hamoo baafneerra mitii? Maqaa keetiin dinqii hedduu
hojjenneerra mitii?’ naan jedhu. 23 Ani immoo, ‘Narraa fagaadhaa! Isin warra
hammina hojjettan, ani gonkumaa isin hin beekne’ jedhee ifaan ifatti isaanitti nan
hima.

*Ijaartota Ogeeyyii fi Gowwoota*
*7:24-27 kwf – Luq 6:47-49*

24 “Kanaafuu namni dubbii koo kana dhaga’ee hojiidhaan argisiisu hundi, nama
ogeessa mana isaa kattaa irratti ijaarrate fakkaata. 25 Bokkaan roobee, lolaan
lola’ee, bubbeenis bubbisee mana sana dha’e; manichi garuu waan kattaa irratti
hundeeffameef hin jigne. 26 Namni dubbii koo kana dhaga’ee hojiidhaan hin
argisiifne hundi garuu nama gowwaa mana isaa cirracha irratti ijaarrate fakkaata.
27 Bokkaan roobee, lolaan lola’ee, bubbeenis bubbisee manicha dha’e; manni sunis
ni jige; jiguun isaas akka malee hamaa ture.”

28 Yommuu Yesuus dubbii kana dubbatee raawwatetti namoonni barsiisa isaa ni
dinqisiifatan; 29 inni akka barsiistota seeraatti utuu hin ta’in, akka nama taayitaa
qabu tokkootti isaan barsiisa tureetii.

# 8

*Namicha Lamxaa’aa*
*8:2-4 kwf – Mar 1:40-44; Luq 5:12-14*

1 Yeroo Yesuus gaara irraa bu’etti, tuuta namoota baay’eetu isa duukaa bu’e.
2 Kunoo namichi lamxaa’aan tokkos dhufee, fuula isaa duratti jilbeenfatee, “Yaa
Gooftaa, yoo fedhii kee ta’e, ati na qulqulleessuu ni dandeessa” jedheen.

3 Yesuusis harka isaa hiixatee namicha qaqqabee, “Fedhii koo ti; qulqullaa’i!”
jedheen. Lamxiin isaas yeruma sana qulqullaa’e. 4 Ergasiis Yesuus, “Nama tokkotti
illee akka hin himne beekkadhu. Garuu dhaqiitii akka isaaniif ragaa ta’uuf lubatti of
argisiisi; kennaa Museen ajaje sana illee dhi’eessi” jedheen.

*Amantii Ajajaa Dhibbaa*
*8:5-13 kwf – Luq 7:1-10*

5 Yeroo Yesuus Qifirnaahom seenetti, ajajaan dhibbaa tokko gara isaa dhufee
akkana jedhee isa kadhate; 6 “Yaa Gooftaa, tajaajilaan koo dhagni irratti du’ee mana
ciisa; akka malees dhiphachaa jira.”
7 Yesuusis, “Ani dhufeen isa fayyisa” jedheen.
8 Ajajaan dhibbaa sun immoo akkana jedhee deebiseef; “Yaa Gooftaa, ati bantii
mana kootii jala seenuun naaf hin malu. Garuu dubbicha qofa dubbadhu; tajaajilaan
koo ni fayyaatii. 9 Ani mataan koo iyyuu nama taayitaa jala jiruu dha; loltootas of
jalaa qaba. Isa tokkoon, ‘Deemi’ nan jedha; innis ni deema; isa kaaniin immoo, ‘Kottu’
nan jedha; innis ni dhufa. Tajaajilaa kootiinis, ‘Waan kana hojjedhu’ nan jedha; innis
ni hojjeta.”
10 Yesuus yommuu waan kana dhaga’etti dinqifatee warra isa duukaa bu’aa
turaniin akkana jedhe; “Ani dhuguma isinittin hima; ani Israa’el keessatti nama
amantii guddaa akkanaa qabu tokko illee hin arganne. 11 Ani isinittin hima;
namoonni hedduun ba’a biiftuutii fi lixa biiftuutii ni dhufu; isaanis Abrahaam,
Yisihaaqii fi Yaaqoob wajjin mootummaa samii keessatti maaddiitti ni dhi’aatu.
12 Ijoolleen mootummaa garuu dukkana alaatti gad darbatamu; achitti boo’uu fi
ilkaan qaruutu ta’a.”
13 Yesuusis deebisee ajajaa dhibbaa sanaan, “Akkuma amantii keetii siif haa ta’u;
deemi!” jedhe. Tajaajilaan isaas yeruma sana fayye.

*Yesuus Nama Hedduu Fayyisuu Isaa*
*8:14-16 kwf – Mar 1:29-34; Luq 4:38-41*

14 Yesuus yommuu mana Phexros seenetti, haati niitii Phexros dhukkuba dhagna
gubaadhaan qabamtee ciiftee arge. 15 Innis harka ishee tuqe; dhagna gubaan sunis
ishee dhiise; isheenis kaatee isa tajaajiluu jalqabde.
16 Galgala sanas namoota hafuurota hamoon qabaman hedduu gara isaa fidan;
innis jecha tokkoon hafuurota sana baase; dhukkubsattoota hundumaa ni fayyise.
17 Kunis akka dubbiin karaa Isaayyaas raajichaatiin,
“Inni dhibee keenya nurraa fuudhe;
dhukkuba keenyas ni baate”*
jedhame sun raawwatamuuf ta’e.

*Gatii Yesuus Duukaa Bu’uun Nama Baasisu*
*8:19-22 kwf – Luq 9:57-60*

18 Yesuus yommuu tuuta namoota baay’ee naannoo isaatti argetti akka gama
ce’aniif ajaje. 19 Barsiisaan seeraa tokkos gara isaa dhufee, “Yaa barsiisaa, ani iddoo
ati dhaqxu hundatti si duukaa nan bu’a” jedhe.
20 Yesuusis deebisee, “Waangoonni boolla qabu; simbirroonnis man’ee qabu; Ilmi
Namaa garuu iddoo itti mataa isaa irkifatu illee hin qabu” jedhe.
21 Barattoota isaa keessaas inni tokko, “Yaa Gooftaa, dura akka ani dhaqee abbaa
koo awwaalladhu naa eeyyami!” jedheen.
22 Yesuus garuu, “Warri du’an du’aa isaanii haa awwaallatan; ati immoo na duukaa
bu’i” jedheen.

*Yesuus Bubbee Jabaa Gab gochuu Isaa*
*8:23-27 kwf – Mar 4:36-41; Luq 8:22-25*
*8:23-27 kwi – Mat 14:22-33*

23 Yommuu inni bidiruu yaabbatettis, barattoonni isaa isa duukaa bu’an. 24 Akkuma
tasaa bubbeen hamaan tokko galaana irratti ka’e; dambaliinis bidiruu sana irra gara

* **8:17** 8:17 Isa 53:4

gale. Yesuus garuu rafaa ture. 25 Barattoonni isaa gara isaa dhufanii, “Yaa Gooftaa,
nu oolchi! Nu dhumuufii!” jedhanii isa dammaqsan.
26 Innis deebisee, “Isin warra amantii xinnoo nana; maaliif akkana sodaattu?”
jedheen. Ka’ees bubbee sanaa fi galaana sana ifate; tasgabbiin guddaanis ni ta’e.
27 Namoonnis dinqifatanii, “Namni bubbee fi galaanni ajajamaniif kun nama
akkamii ti?” jedhan.

### *Yesuus Namoota Hafuura Hamaan Qabaman Fayyisuu Isaa*
*8:28-34 kwf – Mar 5:1-17; Luq 8:26-37*

28 Yommuu Yesuus gama ce’ee biyya Gadareen ga’etti, namoonni hafuura hamaan
qabaman lama iddoo awwaalaatii ba’anii itti dhufan. Isaanis waan akka malee
hamoo turaniif namni tokko iyyuu karaa sana irra darbuu hin danda’u ture.
29 Isaanis, “Yaa Ilma Waaqaa, ati maal nurraa barbaadda? Utuu yeroon sun hin ga’in
nu dhiphisuu dhufte moo?” jedhanii iyyan.
30 Hoomaan booyyee guddaan isaas xinnoo isaan irraa fagaatee dheedaa ture.
31 Hafuuronni hamoon sunis, “Yoo nu baafte, gara hoomaa booyyee sanaatti nu ergi”
jedhanii Yesuusin kadhatan.
32 Innis, “Dhaqaa!” jedheen. Isaanis namicha keessaa ba’anii hoomaa booyyee
sanatti galan; hoomaan sun guutuunis ededa hallayyaa irraa gad gugatee galaanatti
nam’ee bishaan keessatti dhume. 33 Warri booyyeewwan tiksan sunis baqatanii
magaalaa seenan; isaanis waan hunda, waan namoota hafuurota hamoon qabamanii
turan irra ga’es ni odeessan. 34 Magaalaan sun guutuunis Yesuusin arguuf ba’e.
Yommuu isa argettis akka inni biyya isaanii keessaa ba’uuf isa kadhate.

# 9

### *Yesuus Nama Dhagni Irratti Du’e Fayyisuu Isaa*
*9:2-8 kwf – Mar 2:3-12; Luq 5:18-26*

1 Yesuus bidiruu yaabbatee galaana ce’ee gara magaalaa isaa dhufe. 2 Kunoo, jarri
tokko nama dhagni irratti du’ee siree irra ciisu tokko gara isaa fidan. Yesuusis
yommuu amantii isaanii argetti namichaan, “Ilma koo jabaadhu; cubbuun kee siif
dhiifameeraatii” jedhe.
3 Kana irratti barsiistota seeraa keessaa tokko tokko garaa isaanii keessatti, “Kunoo,
namichi kun Waaqa arrabsa!” jedhan.
4 Yesuusis yaada isaanii beekee akkana jedhe; “Isin maaliif garaa keessan keessatti
waan hamaa yaaddu? 5 ‘Cubbuun kee siif dhiifameera’ jechuu moo ‘Ka’ii deemi’
jechuutu salphaa dha? 6 Ani garuu akka Ilmi Namaa cubbuu namaaf dhiisuudhaaf
lafa irratti taayitaa qabu akka beektan nan barbaada.” Kanaafuu inni namicha
dhagni irratti du’e sanaan, “Ka’i; siree kee fudhadhuutii mana keetti gali” jedhe.
7 Namichis ka’ee mana isaatti gale. 8 Namoonnis yommuu waan kana arganitti ni
dinqifatan; Waaqa taayitaa akkasii namaaf kenneefis ulfina kennan.

### *Waamamuu Maatewos*
*9:9-13 kwf – Mar 2:14-17; Luq 5:27-32*

9 Yesuus achii ka’ee utuu deemuu namicha Maatewos jedhamu tokko utuu inni
iddoo itti qaraxa walitti qaban taa’uu argee, “Na duukaa bu’i” jedheen. Maatewosis
ka’ee isa duukaa bu’e.
10 Yeroo Yesuus mana Maatewositti irbaata nyaachaa turetti, qaraxxoonnii fi
cubbamoonni baay’een dhufanii isaa fi barattoota isaa wajjin nyaatan. 11 Fariisonni
yommuu waan kana arganitti, “Barsiisaan keessan maaliif qaraxxootaa fi cub-
bamoota wajjin nyaata?” jedhanii barattoota isaa gaafatan.

[12] Yesuus immoo waan kana dhageenyaan akkana jedhe; “Ogeessi fayyaa warra
dhukkubsataniif malee warra fayyaa qabaniif hin barbaachisu. [13] Garuu dhaqaatii
dubbiin, ‘Ani araaran fedha malee aarsaa hin fedhu’*jedhu sun maal jechuu akka
ta’e hubadhaa. Ani cubbamoota waamuufin dhufe malee qajeeltota waamuuf hin
dhufneetii.”

*Gaaffii Waa’ee Soomaa*
*9:14-17 kwf – Mar 2:18-22; Luq 5:33-39*

[14] Barattoonni Yohannis dhufanii, “Sababiin utuu nuu fi Fariisonni soomnuu,
barattoonni kee hin soomneef maali?” jedhanii isa gaafatan.
[15] Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Keessummoonni misirrichaa akkamiin
utuu inni isaan wajjin jiruu gadduu danda’u? Yeroon itti misirrichi isaan biraa
fudhatamu ni dhufa; isaanis yeroo sana ni soomu.
[16] “Namni uffata moofaa irratti erbee haaraa erbu tokko illee hin jiru; erbeen
sun uffata sana irraa tarsaasaatii; tarsa’aan sunis isa duraa ni caala. [17] Akkasuma
immoo namoonni daadhii wayinii haaraa qalqalloo moofaatti hin naqan. Yoo isaan
itti naqan qalqallichi ni dho’a; daadhiinis ni dhangala’a; qalqalloonis horoomaa ba’a.
Daadhiin wayinii haaraan garuu yoo qalqalloo haaraatti naqame lachanuu yeroo
dheeraa turu.”

*Intala Duutee fi Dubartii Dhukkubsatte*
*9:18-26 kwf – Mar 5:22-43; Luq 8:41-56*

[18] Utuu inni waan kana dubbachaa jiruu, bulchaan mana sagadaa tokko dhufee
fuula isaa duratti jilbeenfatee, “Intalli koo ammuma na duraa duute. Garuu kottuutii
harka kee ishee irra kaa’i; isheenis ni jiraattii” jedheen. [19] Yesuus ka’ee barattoota
isaa wajjin isa duukaa bu’e.
[20] Kunoo, dubartiin dhiigni ishee waggaa kudha lama dhangala’aa ture tokko dugda
isaa duubaan dhuftee handaara uffata isaa tuqxe. [21] Isheenis garaa ishee keessatti,
“Ani yoon uffatuma isaa illee tuqe nan fayya” jettee yaaddee turteetii.
[22] Yesuusis garagalee ishee ilaalee, “Yaa intalaa, amantiin kee si fayyiseeraatii
jabaadhu!” jedheen. Dubartiin sunis yeruma sana fayyite.
[23] Yesuusis yommuu mana bulchaa mana sagadaa sanaa seenee warra ulullee
afuufanii fi uummata wacu argetti, [24] “Asii deemaa! Intalattiin rafteerti malee hin
duunee” jedhe. Isaan garuu isatti kolfan. [25] Erga namoonni gad baafamanii booddees
inni ol seenee harka intalattii qabe; isheenis kaatee dhaabatte. [26] Oduun waa’ee
kanaas biyya sana guutuu keessa faca’e.

*Yesuus Jaamota Lama Fayyisuu Isaa*

[27] Yesuus utuu achii ka’ee deemaa jiruu, jaamonni lama isa duukaa bu’anii, “Yaa
Ilma Daawit nu maari!” jedhanii iyyan.
[28] Yommuu inni mana seenettis jaamonni sun gara isaa dhufan; innis, “Akka ani
waan kana gochuu danda’u ni amantuu ree?” jedhee isaan gaafate.
Isaanis, “Eeyyee, yaa Gooftaa!” jedhanii deebisaniif.
[29] Yesuusis ija isaanii qaqqabee, “Akkuma amantii keessanii isiniif haa ta’u”
jedheen. [30] Iji isaaniis ni baname. Yesuusis, “Akka namni tokko iyyuu waan kana
hin beekne of eeggadhaa” jedhee jabeessee isaan akeekkachiise. [31] Jarri garuu achii
ba’anii biyya sana hunda keessatti waa’ee isaa odeessan.
[32] Utuu isaan gad ba’uutti jiranuu jarri tokko nama hafuura hamaadhaan qabamee
dubbachuu hin dandeenye tokko Yesuusitti fidan. [33] Namichi sunis erga hafuurri
hamaan isa keessaa baafamee booddee ni dubbate. Namoonnis, “Wanni akkanaa
gonkumaa Israa’el keessatti hin argamne” jedhanii dinqifatan.

* **9:13** 9:13 Hos 6:6

[34] Fariisonni garuu, “Inni hangafa hafuurota hamootiin hafuurota hamoo baasa”
jedhan.

*Hojjettoonni Muraasa*

[35] Yesuus manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, wangeela mootummaa
lallabaa, akkasumas dhibee fi dhukkuba hunda irraa namoota fayyisaa maga-
alaawwanii fi gandoota hunda keessa deeme. [36] Innis yommuu tuuta namootaa
argetti garaa laafeef; isaan akkuma hoolota tiksee hin qabneetti dhiphatanii,
gatamaniis turaniitii. [37] Barattoota isaatiinis akkana jedhe; “Midhaan walitti qabamu
baay’ee dha; hojjettoonni garuu muraasa. [38] Kanaaf akka Gooftaan midhaan sanaa
gara lafa qotiisaa midhaan isaatti hojjettoota erguuf isa kadhadhaa.”

# 10

*Yesuus Barattoota Kudha Lamaan Erguu Isaa*
*10:2-4 kwf – Mar 3:16-19; Luq 6:14-16; Hoj 1:13*
*10:9-15 kwf – Mar 6:8-11; Luq 9:3-5; 10:4-12*
*10:19-22 kwf – Mar 13:11-13; Luq 21:12-17*
*10:26-33 kwf – Luq 12:2-9*
*10:34,35 kwf – Luq 12:51-53*

[1] Yesuus barattoota isaa kudha lamaan ofitti waamee akka isaan hafuurota xuraa’oo
baasaniif, dhibee fi dhukkuba hundumaa akka fayyisaniif taayitaa kenneef.

[2] Maqaan ergamoota kudha lamaaniis kana:

Jalqabatti Simoon isa Phexros jedhamuu fi obboleessa isaa Indiriiyaas,
Yaaqoob ilma Zabdewoosii fi obboleessa isaa Yohannis,
[3] Fiiliphoos, Bartaloomewoos,
Toomaas, Maatewos isa qaraxa walitti qabu,
Yaaqoob ilma Alfewoosii fi Taadewoos,
[4] Simoon Hinaafticha, Yihuudaa Keeriyoticha isa Yesuusin dabarsee kenne.

[5] Yesuusis warra kudha lamaan kanneen erge; akkanas jedhee isaan ajaje; “Gara
Namoota Ormaa hin dhaqinaa; magaalaawwan Samaariyaa tokko illee hin seeninaa.
[6] Qooda kanaa gara hoolota mana Israa’el kanneen badan sanaa dhaqaa. [7] Yommuu
dhaqxanittis, ‘mootummaan samii dhi’aateera’ jedhaa lallabaa. [8] Dhukkubsattoota
fayyisaa; warra du’an kaasaa; warra lamxaa’an qulqulleessaa; hafuurota hamoo
baasaa. Tola waan argattaniif toluma kennaa.
[9] “Sabbata keessanitti warqee yookaan meetii yookaan sibiila diimaa hin qabatinaa;
[10] karaa keessaniif korojoo yookaan kittaa lama yookaan kophee yookaan ulee hin
qabatinaa; hojjetaaf waan isa barbaachisu argachuun ni malaatii. [11] Magaalaa
yookaan ganda seentan kam iyyuu keessa nama malu barbaadaa; hamma achii
baatanittis manuma isaa turaa. [12] Yommuu mana sana seentanittis nagaa gaafadhaa.
[13] Nagaan keessan yoo mana sanaaf male, mana sanaaf haa ta’u; yoo isaaf hin malin
garuu nagaan keessan isiniif haa deebi’u. [14] Yoo namni tokko illee isin simachuu
baate yookaan dubbii keessan dhaga’uu baate, yeroo mana yookaan magaalaa sanaa
baatanitti awwaara miilla keessanii dhadha’adhaa. [15] Ani dhuguma isinittin hima;
guyyaa murtiitti magaalaa sana irra Sodoomii fi Gomoraaf ni salphata.
[16] “Kunoo, ani akka hoolotaa gara gidduu yeeyyiittin isin erga. Kanaafuu akka
bofaa ogeeyyii, akka gugee garraamii ta’aa. [17] Namoota irraa of eeggadhaa; isin
dabarfamtanii yaa’iitti ni kennamtu; manneen sagadaa keessattis ni garafamtu.

[18] Isinis akka isaanii fi Namoota Ormaatti dhuga baatota taataniif anaaf jettanii
fuula bulchitootaatii fi moototaa duratti ni dhi'eeffamtu. [19] Yommuu dabarsanii isin
kennanis akkamitti akka dubbattan yookaan maal akka dubbattan hin yaadda'inaa.
Wanni isin dubbattan yeruma sanatti isiniif kennama; [20] Hafuura Abbaa keessaniitu
isin keessaa dubbata malee isintu dubbata mitii.
[21] "Obboleessi dabarsee obboleessa du'atti kenna; abbaan dabarsee ijoollee isaa
du'atti kenna; ijoolleenis warra isaaniitti ka'anii isaan ajjeesu. [22] Namni hundinuu
sababii kootiif isin jibba; kan hamma dhumaatti jabaatee dhaabatu garuu ni
fayya. [23] Yommuu magaalaa tokko keessatti isin ari'atanitti, gara magaalaa kaaniitti
baqadhaa; ani dhuguma isinittin hima; hamma Ilmi Namaa dhufutti magaalaawwan
Israa'el hundumaa keessa naannoftanii waliin hin geessan.
[24] "Barataan barsiisaa isaatii ol miti; garbichis gooftaa isaatii ol miti. [25] Barataan
tokko akka barsiisaa isaa ta'uun, garbichi tokko immoo akka gooftaa isaa ta'uun
ni ga'a. Erga abbaa manaatiin 'Bi'eelzebuul' jedhanii, warra mana isaa jiraataniin
immoo hammam kana caalaa haa jedhan ree!
[26] "Kanaafuu isaan hin sodaatinaa. Wanni haguugamee utuu hin mul'ifamin hafu
yookaan wanni dhokfamee utuu hin beekamin hafu tokko iyyuu hin jiruutii. [27] Waan
ani dukkana keessatti isinitti himu guyyaa adiin odeessaa; waan gurratti isinitti
hasaasan, bantii manaa irraa labsaa. [28] Warra foon malee lubbuu ajjeesuu hin
dandeenye hin sodaatinaa. Qooda kanaa Isa gahaannam keessatti foonii fi lubbuu
balleessuu danda'u sana sodaadhaa. [29] Daaloteen lama saantima tokkotti gurguramu
mitii? Isaan keessaa garuu tokko iyyuu fedhii Abbaa keessanii malee lafa hin buutu.
[30] Rifeensi mataa keessanii hundis lakkaa'ameera. [31] Kanaaf hin sodaatinaa; isin
daalotee hedduu caalaa gatii qabduutii.
[32] "Kanaafuu nama fuula namootaa duratti dhugaa naa ba'u kamiif iyyuu, anis
fuula Abbaa koo isa samii irraa duratti dhugaa nan ba'a. [33] Nama fuula namootaa
duratti na ganu kam iyyuu garuu anis fuula Abbaa koo isa samii irraa duratti nan
gana.
[34] "Isin waan ani lafa irratti nagaa buusuuf dhufe hin se'inaa. Ani goraadee fiduuf
malee nagaa buusuuf hin dhufne. [35] Ani,
" 'Nama abbaa isaatti,
intala immoo haadha isheetti,
niitii ilmaas amaatii isheetti kaasuuf dhufeeraatii;
[36] diinonni namaa, miseensotuma mana isaatii.'*
[37] "Namni abbaa isaa yookaan haadha isaa na caalchisee jaallatu kam iyyuu naaf
hin malu; namni ilma isaa yookaan intala isaa na caalchisee jaallatu kam iyyuu naaf
hin malu. [38] Namni fannoo ofii isaa baadhatee na duukaa hin buune kam iyyuu
naaf hin malu. [39] Namni lubbuu isaa oolfatu kam iyyuu lubbuu isaa ni dhaba; garuu
namni naaf jedhee lubbuu isaa dhabu kam iyyuu lubbuu isaa ni argata.
[40] "Namni isin simatu na simata; namni na simatu immoo isa na erge sana simata.
[41] Namni raajii tokko sababii inni raajii ta'eef simatu kam iyyuu gatii raajii ni argata;
namni nama qajeelaa tokko sababii inni nama qajeelaa ta'eef simatu gatii nama
qajeelaa tokkoo ni argata. [42] Ani dhuguman isinitti hima; namni kam iyyuu yoo
warra xixinnaa kanneen keessaa isa tokkoof sababii inni barataa koo ta'eef bishaan
qabbanaa'aa budduuqsaa tokkoo illee kenne, inni dhugumaan gatii isaa hin dhabu."

# 11

*Yesuusii fi Yohannis Cuuphaa*
*11:2-19 kwf – Luq 7:18-35*

* **10:36** 10:36 Mik 7:6

[1] Yesuus erga barattoota isaa kudha lamaaniif ajaja kennuu raawwatee booddee
magaalaawwan Galiilaa keessatti barsiisuu fi lallabuuf jedhee achii ka'ee karaa isaa
itti fufe.
[2] Yohannis mana hidhaa taa'ee yommuu waan Kiristoos hojjechaa ture dhaga'etti
barattoota isaa ergee, [3] "Inni dhufuuf jiru sun si'i moo yookaan kan biraa eegganna?"
jedhee isa gaafate.
[4] Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Deebi'aatii waan dhageessanii fi waan argitan
Yohannisitti himaa; [5] jaamonni ni argu; warri naafatan ni deemu; warri lamxaa'an
ni qulqullaa'u; warri duudan ni dhaga'u; warri du'an ni ka'u; hiyyeeyyiifis wangeelli
ni lallabama. [6] Namni natti hin gufanne kam iyyuu eebbifamaa dha."
[7] Akkuma barattoonni Yohannis ba'anii qajeelaniin, Yesuus akkana jedhee waa'ee
Yohannis namootatti himuu jalqabe; "Isin maal arguuf gammoojjiitti gad baatan?
Shambaqqoo qilleensi raasu moo? [8] Yoos maal arguu baatan ree? Nama uffata
miidhagaa uffate moo? Lakki, warri uffata miidhagaa uffatan masaraa moototaa
jiru. [9] Yoos maal arguu baatan ree? Raajii moo? Eeyyee; ani isinittin hima; kan raajii
iyyuu caalu. [10] Kunis isa waa'een isaa akkana jedhamee barreeffamee dha.
" 'Kunoo, ani ergamaa koo isa fuula kee duraan
karaa kee qopheessu, si dura nan erga.'*
[11] Ani dhuguma isinittin hima; namoota dubartoota irraa dhalatan keessaa namni
Yohannis Cuuphaa caalu tokko iyyuu hin kaane; namni mootummaa samii keessatti
nama hundumaa gad ta'e kam iyyuu garuu isa ni caala. [12] Mootummaan samii
bara Yohannis Cuuphaatii jalqabee hamma ammaatti humnaan dhiibbachaa jira;
namoonni dhiibbatanis humnaan mootummaa sana argatu. [13] Raajonni hundinuu,
Seerris hamma Yohannis Cuuphaatti raajii dubbataniiruutii. [14] Isinis kana fud-
hachuuf yoo fedhii qabaattan, inni Eeliyaas isa dhufuuf jiruu dha. [15] Namni gurra
dhaga'u qabu haa dhaga'u.
[16] "Ani dhaloota kana maaliinan wal fakkeessuu danda'a? Isaan akkuma ijoollee
iddoo gabaa taa'anii warra kaan waamanii akkana jedhanii ti:
[17] " 'Nu ulullee isinii afuufne;
isin garuu hin sirbine;
faaruu boo'ichaas faarsine;
isin garuu hin boonye.'
[18] Yohannis yeroo dhufetti hin nyaatu, hin dhugus tureetii; isaan immoo, 'Inni
hafuura hamaa qaba' jedhu. [19] Ilmi Namaa nyaachaa, dhugaas dhufe; isaan immoo,
'Kunoo albaadhessaa fi machaa'aa, michuu qaraxxootaatii fi cubbamootaa' jedhu.
Ogummaan garuu hojii isheetiin mirkaneeffamti."

### *Magaalaawwan Qalbii Hin Jijjiirranneef Wayyoo*
*11:21-23 kwf – Luq 10:13-15*

[20] Ergasii Yesuus sababii magaalaawwan inni itti hojii dinqii isaa gara caalu hojjete
sun qalbii hin jijjiirratiniif akkana jedhee isaan balaaleffachuu jalqabe. [21] "Yaa
Koraaziin siif wayyoo! Yaa Beetisayidaa siif wayyoo! Hojiin dinqii isin keessatti
hojjetame sun utuu Xiiroosii fi Siidoonaa keessatti hojjetamee jiraatee, isaan silaa
yeroo dheeraan dura uffata gaddaa uffatanii, daaraas ofitti firfirsanii qalbii jijjiirratu
turan. [22] Ani garuu isinittin hima; guyyaa murtiitti isin irra Xiiroosii fi Siidoonaaf ni
salphata. [23] Atis yaa Qifirnaahom, hamma samiitti ol kaafamtaa? Lakki, sii'oolitti gad
buuta. Hojiin dinqii kan si keessatti hojjetame sun utuu Sodoom keessatti hojjetamee
jiraatee, isheen silaa hamma har'aatti ni jiraatti turte. [24] Ani garuu sittin hima;
guyyaa murtiitti sirra Sodoomiif ni salphata."

* **11:10** 11:10 Mil 3:1

*Boqonnaa Abdachiifame*
*11:25-27 kwf – Luq 10:21,22*

25 Yesuus yeroo sana akkana jedhe; “Yaa Abbaa, Gooftaa samiitii fi lafaa, sababii ati
wantoota kanneen ogeeyyii fi hubattoota jalaa dhoksitee daa’immanitti mul’ifteef ani
sin galateeffadha. 26 Eeyyee yaa Abbaa, ati waan kana gochuutti gammaddeertaatii.
27 “Abbaan koo waan hunda dabarsee natti kenneera. Abbaa malee namni tokko
iyyuu Ilma hin beeku; Ilmaa fi nama Ilmi isa itti mul’isuu fedhu malee namni tokko
iyyuu Abbaa hin beeku.
28 “Isin dadhabdoonni, warri ba’aan isinitti ulfaate hundinuu gara koo kottaa; ani
isinan boqochiisa. 29 Waanjoo koo baadhaa; narraas baradhaa; waan ani garraamii fi
gad of qabeessa ta’eef isin lubbuu keessaniif boqonnaa ni argattu. 30 Waanjoon koo
laafaa dha; ba’aan koos salphaa dha.”

# 12

*Gooftaa Sanbataa*
*12:1-8 kwf – Mar 2:23-28; Luq 6:1-5*
*12:9-14 kwf – Mar 3:1-6; Luq 6:6-11*

1 Yesuus yeroo sana guyyaa Sanbataatiin lafa qotiisaa midhaanii keessa darbe.
Barattoonni isaas beela’anii asheetii midhaanii ciratanii nyaachuu jalqaban.
2 Fariisonni yommuu waan kana arganitti, “Ilaa! Barattoonni kee waan guyyaa
Sanbataatiin hojjechuun seeraan hin eeyyamamne hojjetu” jedhaniin.
3 Innis akkana jedhee deebise; “Yeroo Daawitii fi warri isa wajjin turan beela’anitti
waan Daawit godhe isin hin dubbifnee? 4 Inni mana Waaqaa seene; innii fi warri
isa wajjin turanis buddeena kennaa nyaatan; buddeenni sun immoo luboota qofaaf
malee isaaniif hin eeyyamamu ture. 5 Yookaan akka luboonni mana qulqullummaa
keessaa guyyaa Sanbataatiin Sanbata xureessan, ta’us akka yakka ta’ee isaanitti hin
hedamne isin Seera keessatti hin dubbifnee? 6 Ani isinitti nan hima; kan mana
qulqullummaa caalu as jira. 7 Isin, utuu dubbiin, ‘Ani araaran fedha malee aarsaa
hin fedhu’*jedhu sun maal jechuu akka ta’e beektanii jiraattanii silaa warra yakka
hin qabnetti hin murtan ture. 8 Ilmi Namaa Gooftaa Sanbataatii.”
9 Innis achii ka’ee mana sagadaa isaanii seene; 10 kunoo, namichi harki irratti goge
tokkos achi ture. Isaanis sababii ittiin Yesuusin himatan barbaadaa waan turaniif,
“Guyyaa Sanbataatiin nama fayyisuun seeraa?” jedhanii isa gaafatan.
11 Yesuus immoo akkana isaaniin jedhe; “Isin keessaa namni hoolaa tokko qabu, yoo
hoolaan sun guyyaa Sanbataatiin boolla keessa bu’e, kan harkisee hin baafanne jiraa?
12 Namni immoo hammam hoolaa caalaa gatii guddaa haa qabaatu ree! Kanaafuu
Sanbataan waan gaarii hojjechuun eeyyamamaa dha.”
13 Namichaanis, “Harka kee diriirfadhu” jedhe. Namichis harka diriirfate; harki
isaas guutummaatti fayyee akkuma isa kaanii ta’e. 14 Fariisonni garuu gad ba’anii
akka ittiin Yesuusin ajjeesan mari’atan.

*Tajaajilaa Waaqni Filate*

15 Yesuus waan kana beekee iddoo sanaa ka’ee deeme. Namoonni baay’eenis isa
duukaa bu’an; innis dhukkubsattoota isaanii hunda fayyise; 16 akka isaan akka inni
beekamu hin goones isaan ajaje. 17 Kunis akka wanni Isaayyaas raajichi dubbate sun
raawwatamuuf ta’e; innis akkana jedha:
18 “Tajaajilaan koo inni ani filadhe,
inni ani jaalladhuu fi inni ani itti gammadu isa kana;
ani Hafuura koo isa irra nan kaa’a;

* **12:7** 12:7 Hos 6:6

innis sabootatti murtii qajeelaa ni labsa.
19 Inni hin wacu yookaan hin iyyu;
namni tokko illee sagalee isaa karaa irratti hin dhaga'u.
20 Inni hamma akka murtiin qajeelaan mo'u godhutti,
shambaqqoo buruqe hin cabsu;
fo'aa ibsaa kan seequs hin dhaamsu.
21 Saboonnis maqaa isaa ni abdatu."†

*Yesuusii fi Bi'eelzebuul*
*12:25-29 kwf – Mar 3:23-27; Luq 11:17-22*

22 Yeroo sanatti namicha hafuura hamaan qabame, kan iji isaa jaamee arrabni
isaas dubbachuu dide tokko gara isaa fidan; Yesuusis namicha sana fayyise; namichis
dubbachuu fi arguu danda'e. 23 Namoonni hundinuus dinqifatanii, "Kun Ilma Daawit
ta'innaa?" jedhan.
24 Fariisonni garuu yommuu kana dhaga'anitti, "Namichi kun Bi'eelzebuul, hangafa
hafuurota hamoo qofaan hafuurota hamoo baasa" jedhan.
25 Yesuusis yaada isaanii beekee akkana jedheen; "Mootummaan gargar of qoodu
hundinuu ni diigama; magaalaan yookaan maatiin gargar of qoodu hundinuus hin
dhaabatu. 26 Seexannis Seexana baafnaan, inni gargar of qooda. Yoos mootummaan
isaa akkamitti dhaabachuu danda'a ree? 27 Erga ani Bi'eelzebuuliin hafuurota hamoo
baasee, ijoolleen keessan immoo maaliin baasu ree? Kanaafuu isaan abbootii murtii
isinitti ta'u. 28 Garuu ani Hafuura Waaqaatiin hafuurota hamoo baasa taanaan, yoos
mootummaan Waaqaa isinitti dhufeera.
29 "Yookaan namni kam iyyuu yoo duraan dursee nama jabaa tokko hidhe malee
akkamitti mana nama jabaa sanaa seenee qabeenya isaa saamuu danda'a? Ergasii
inni mana isaa saamuu danda'a.
30 "Namni na wajjin hin jirre kam iyyuu naan morma; namni na wajjin walitti hin
qabne kam iyyuus ni bittinneessa. 31 Kanaafuu ani isinittin hima; cubbuu fi arrabsoon
hundinuu namaaf ni dhiifama; Hafuura Qulqulluu arrabsuun garuu hin dhiifamu.
32 Nama Ilma Namaatiin mormee jecha tokko dubbatu kamiif iyyuu ni dhiifama;
nama Hafuura Qulqulluudhaan mormee dubbatu kamiif iyyuu garuu, addunyaa kana
irratti yookaan addunyaa dhufuuf jiru irratti hin dhiifamu.
33 "Muka gaarii qabaadhaa; iji isaa gaarii ta'aa; muka gadhee qabaadhaa; iji isaa
gadhee ta'aa; mukni ija isaatiin beekamaatii. 34 Isin yaa ijoollee buutii nana, isin
warri hamoon akkamitti waan gaarii dubbachuu dandeessu? Waan garaa guute
afaan dubbataatii. 35 Namni gaariin waan gaarii garaa isaa keessa jiru keessaa waan
gaarii baasa; namni hamaan immoo waan hamaa garaa isaa keessa jiru keessaa waan
hamaa baasa. 36 Ani garuu isinittin hima; guyyaa murtiitti namoonni dubbii akkuma
argan dubbatan hundumatti ni gaafatamu. 37 Dubbii keetiin qajeelaa taasifamtaatii;
dubbii keetiinis sitti murama."

*Mallattoo Yoonaas*
*12:39-42 kwf – Luq 11:29-32*
*12:43-45 kwf – Luq 11:24-26*

38 Ergasii barsiistonni seeraatii fi Fariisonni tokko tokko, "Yaa barsiisaa, nu
mallattoo sirraa arguu barbaanna" jedhaniin.
39 Innis deebisee akkana isaaniin jedhe; "Dhaloonni hamaa fi ejjaan mallattoo
barbaada! Garuu mallattoo Yoonaas raajichaa sana malee mallattoon tokko iyyuu
hin kennamuuf. 40 Akkuma Yoonaas guyyaa sadii fi halkan sadii garaa qurxummii
guddaa tokkoo keessa ture sana, Ilmi Namaas guyyaa sadii fi halkan sadii garaa lafaa

† **12:21** 12:21 Isa 42:1-4

keessa ni turaatii. 41 Namoonni Nanawwee guyyaa murtiitti dhaloota kana wajjin
ka'anii itti muru;‡isaan lallaba Yoonaasiin qalbii jijjiirrataniitii; kunoo, kan Yoonaasin
caalu as jira. 42 Mootittiin kibbaa guyyaa murtiitti dhaloota kana wajjin kaatee itti
murti; isheen ogummaa Solomoon dhaga'uuf jettee daarii lafaatii dhufteetii; kunoo,
kan Solomoonin caalu as jira.
43 "Hafuurri xuraa'aan yommuu nama keessaa ba'utti, boqonnaa barbaacha lafa
gogaa keessa joora; garuu hin argatu. 44 Innis, 'Mana koo isa ani keessaa ba'e
sanatti nan deebi'a' jedha. Yommuu achi ga'uttis manicha duwwaa ta'ee, haramee
qulqulleeffamee, qopheeffames argata. 45 Ergasiis dhaqee hafuurota biraa torba
kanneen isa caalaa hamoo ta'an fudhatee dhufa; isaanis itti galanii achi jiraatu. Haalli
namicha sanaa kan dhumaa isa jalqabaa caalaa hammaata. Dhaloonni hamaan kunis
akkasuma ta'a."

*Haadhaa fi Obboloota Yesuus*
*12:46-50 kwf – Mar 3:31-35; Luq 8:19-21*

46 Utuu Yesuus amma iyyuu namootatti dubbachaa jiruu kunoo, haatii fi obboloonni
isaa isa wajjin haasa'uu barbaadanii ala dhadhaabachaa turan. 47 Namni tokkos,
"Haati keetii fi obboloonni kee si wajjin haasa'uu barbaadanii ala dhadhaabatu"
jedhee isatti hime.
48 Innis deebiseefii, "Haati koo eenyu? Obboloonni koos eenyu fa'i?" jedheen.
49 Harka isaas gara barattoota isaatti qabee akkana jedhe; "Haati kootii fi obboloonni
koo kunoo ti. 50 Namni fedhii Abbaa koo isa samii irraa guutu kam iyyuu obboleessa
koo ti; obboleettii koo ti; haadha kootis."

# 13

*Fakkeenya Namicha Sanyii Facaasuu*
*13:1-15 kwf – Mar 4:1-12; Luq 8:4-10*
*13:16,17 kwf – Luq 10:23,24*
*13:18-23 kwf – Mar 4:13-20; Luq 8:11-15*

1 Guyyuma sana Yesuus manaa ba'ee galaana bira taa'e. 2 Tuunni namootaa
guddaan naannoo isaatti walitti qabame; utuu namoonni hundi qarqara galaanichaa
dhadhaabachaa jiranuu, inni bidiruu yaabbatee taa'e. 3 Innis akkana jedhee waan
baay'ee fakkeenyaan isaanitti hime; "Kunoo, namichi sanyii facaasu tokko sanyii
facaafachuu ba'e. 4 Utuu inni facaasaa jiruus sanyiin tokko tokko karaa irra bu'e;
simbirroonnis dhufanii nyaatanii fixan. 5 Kaan immoo lafa kattaa, iddoo biyyoo
baay'ee hin qabne irra bu'e. Sanyiin sunis sababii biyyoon sun gad fageenya hin
qabaatiniif dafee biqile. 6 Yommuu aduun baatetti garuu biqiltuun sun ni coollage;
waan hidda hin qabaatiniifis ni goge. 7 Sanyiin biraas qoraattii keessa bu'e; qoraattiin
sunis guddatee biqiltuu sana hudhe. 8 Ammas sanyiin kaan biyyoo gaarii irra bu'ee
achitti ija naqate; garri tokko dachaa dhibba, kaan dachaa jaatama, kaan immoo
dachaa soddoma naqate. 9 Namni gurra qabu kam iyyuu haa dhaga'u."
10 Barattoonnis gara isaa dhufanii, "Ati maaliif fakkeenyaan namootatti dubbatta?"
jedhanii isa gaafatan.
11 Innis akkana jedhee deebiseef; "Icciitii mootummaa samii beekuun isiniif
kennameera; isaaniif garuu hin kennamne. 12 Kan qabu kamiif iyyuu itti dabalamee
ni kennama; irraa hafaas ni qabaata. Kan hin qabne garuu wanni inni qabu iyyuu
irraa fudhatama. 13 Wanni ani akkana jedhee fakkeenyaan isaanitti dubbadhuufis
kana:
"Isaan utuma ilaalanuu hin argan;

---
‡ **12:41** 12:41 Yon 3:5

utuma dhaggeeffatanuus hin dhaga'an yookaan hin hubatan.
14 Raajiin Isaayyaas dubbate sun isaan irratti raawwatameera; innis akkana jedha:
" 'Dhaga'uu inuma dhageessu; garuu hin hubattan;
ilaaluus inuma ilaaltu; garuu hin qalbeeffattan.
15 Qalbiin saba kanaa doomeeraatii;
gurri isaanii sirriitti hin dhaga'u;
ija isaaniis dunuunfataniiru.
Utuu akkas ta'uu baatee silaa ija isaaniitiin arganii,
gurra isaaniitiin dhaga'anii,
qalbii isaaniitiinis hubatanii ni deebi'u turan;
anis isaan nan fayyisa ture.'*
16 Iji keessan garuu waan arguuf eebbifamaa dha; gurri keessanis waan dhaga'uuf
eebbifamaa dha. 17 Ani dhuguma isinittin himaatii; raajonnii fi qajeeltonni baay'een
waan isin argitan kana arguu hawwan; garuu hin argine; waan isin dhageessan kanas
dhaga'uu hawwan; garuu hin dhageenye.
18 "Egaa fakkeenyi namicha sanyii facaasuu maal akka ta'e dhaga'aa: 19 Yoo namni
kam iyyuu dubbii mootummichaa dhaga'ee hubachuu baate, inni hamaan sun dhufee
waan garaa isaa keessatti facaafame sana butata. Kun sanyii karaa irratti facaafamee
dha. 20 Sanyiin lafa kattaa irratti facaafame, nama dubbicha dhaga'ee yommusuma
gammachuun fudhatuu dha. 21 Garuu inni waan hidda hin qabneef yeroo gabaabaa
qofa tura. Yeroo rakkinni yookaan ari'atamni sababii dubbichaatiif dhufutti inni
dafee gufata. 22 Sanyiin qoraattii keessatti facaafame sunis nama dubbicha dhaga'u
argisiisa; garuu yaaddoon addunyaa kanaatii fi gowwoomsaan qabeenyaa dubbicha
hudhee ija naqachuu dhowwa. 23 Sanyiin biyyoo gaarii irratti facaafame garuu
nama dubbicha dhaga'ee hubatu argisiisa. Innis ija kenna; garri tokko dhibba, kaan
jaatama, kaan immoo soddoma naqata."

### *Fakkeenya Aramaa*

24 Yesuus akkana jedhee fakkeenya biraa isaanitti hime; "Mootummaan samii nama
lafa qotiisaa isaa keessatti sanyii gaarii facaafate tokko fakkaata. 25 Garuu utuu
namoonni rafanuu diinni isaa dhufee qamadii keessatti inkirdaada facaasee deeme.
26 Yeroo qamadiin sun guddatee ija naqatetti inkirdaadnis ni mul'ate.
27 "Garboonni abbaa lafa qotiisaa sanaas gara isaa dhufanii, 'Gooftaa, ati lafa
qotiisaa kee keessatti sanyii gaarii hin facaafnee? Yoos inkirdaadni eessaa dhufe
ree?' jedhaniin.
28 "Innis deebisee, 'Diinatu kana hojjete' jedhe.
"Garboonnis, 'Akka nu dhaqnee buqqifnu ni barbaaddaa?' jedhanii isa gaafatan.
29 "Namichi garuu akkana jedhee deebiseef; 'Lakki, utuu inkirdaada buqqiftanuu,
akka isa wajjin qamadii hin buqqifneef dhiisaa. 30 Hamma yeroo haamaatti lachanuu
walumaan haa guddatan. Anis yeroo sana warra midhaan haamaniin, "Jalqabatti
inkirdaada sana buqqisaa; akka gubamuufis bissii bissiidhaan hidhaa; qamadii garuu
walitti qabaatii gombisaa kootti naa naqaa" jedhee isaanitti nan hima.' "

### *Fakkeenya Raacitiitii fi Sanyii Sanaaficaa*
*13:31,32 kwf – Mar 4:30-32*
*13:31-33 kwf – Luq 13:18-21*

31 Innis akkana jedhee fakkeenya biraa isaanitti hime; "Mootummaan samii sanyii
sanaaficaa kan namni fuudhee lafa qotiisaa isaa keessatti facaase tokko fakkaata.
32 Inni dhugumaan sanyii hunda irra xinnaa dha; erga guddatee garuu biqiltuu hunda
caalee muka ta'a; simbirroonnis dhufanii dameewwan isaa irra jiraatu."

---
* **13:15** 13:15 Isa 6:9,10

33 Amma illee akkana jedhee fakkeenya biraa isaanitti hime; “Mootummaan
samii raacitii dubartiin tokko fuutee hamma inni guutummaatti bukeessutti daakuu
safartuu sadiitti makte fakkaata.”
34 Yesuus waan kana hundumaa fakkeenyaan namootatti dubbate; innis fak-
keenyaan malee waan tokko illee isaanitti hin dubbanne. 35 Kunis akka wanni
raajichi,
“Ani fakkeenyaan afaan koo nan banadha;
waan gaafa addunyaan uumamee jalqabee dhokfames nan dubbadha”†
jedhe sun raawwatamuuf ta’e.

*Hiikkaa Fakkeenya Inkirdaadaa*

36 Yesuusis tuuta namootaa achumatti dhiisee mana ol seene. Barattoonni isaas
gara isaa dhufanii, “Hiikkaa fakkeenya inkirdaada lafa qotiisaa keessaa sana nutti
himi” jedhaniin.
37 Innis akkana jedhee deebise; “Namichi sanyii gaarii facaase sun Ilma Namaa
ti. 38 Lafti qotiisaa sun addunyaa dha; sanyiin gaariinis ijoollee mootummichaa ti.
Inkirdaadni sun ijoollee isa hamaa sanaa ti; 39 diinni inkirdaada facaase immoo
diiyaabiloos dha. Haamaan dhuma addunyaa ti; warri haaman immoo ergamoota
Waaqaa ti.
40 “Akkuma inkirdaadni walitti qabamee ibiddaan gubamu sana, dhuma addun-
yaattis akkasuma ta’a. 41 Ilmi Namaa ergamoota isaa ni erga; isaanis waan cubbuutti
nama geessu hundaa fi warra waan hamaa hojjetan hunda mootummaa isaa keessaa
baasanii walitti qabu. 42 Boolla ibiddaattis isaan darbatu; achittis wawwaannaa fi
ilkaan qaruutu ta’a. 43 Yeroo sana qajeeltonni mootummaa Abbaa isaanii keessatti
akka aduu ni ifu. Namni gurra qabu haa dhaga’u.

*Fakkeenya Qabeenya Dhokfameetii fi Lulaa*

44 “Mootummaan samii qabeenya lafa qotiisaa keessa dhokfame fakkaata. Namni
tokkos qabeenya kana argatee deebisee dhokse; innis waan gammadeef dhaqee waan
qabu hunda gurguree lafa qotiisaa sana bitate.
45 “Akkasumas mootummaan samii daldalaa lula gaarii barbaadu tokko fakkaata.
46 Daldalaan sunis lula gatii guddaa tokko argate; innis dhaqee waan qabu hundumaa
gurguree lula sana bitate.

*Fakkeenya Kiyyoo*

47 “Akkasumas mootummaan samii kiyyoo galaanatti darbatamee qurxummii
gosa hundaa walitti qabe fakkaata. 48 Yeroo kiyyoon sun guutamettis qurxummii
qabdoonni gara qarqara galaanaatti isa harkisan. Ergasiis tataa’anii qurxummii
gaarii filanii qodaa isaaniitti naqatan; qurxummii gadhee immoo ni gatan. 49 Dhuma
addunyaattis akkasuma ta’a. Ergamoonni dhufanii warra hamoo warra qajeeltota
irraa gargar baasu; 50 boolla ibiddaattis isaan darbatu; achittis wawwaannaa fi ilkaan
qaruutu ta’a.”
51 Yesuusis, “Waan kana hunda hubattaniirtuu?” jedhee isaan gaafate.
Isaanis, “Eeyyee” jedhanii deebisan.
52 Innis, “Kanaafuu barsiisaan seeraa kan barataa mootummaa samii ta’e kam
iyyuu abbaa manaa kan qabeenya haaraa fi moofaa mana mi’a isaa keessaa gad
baasu tokko fakkaata” jedheen.

*Raajii Tuffatame*
*13:54-58 kwf – Mar 6:1-6*

† **13:35** 13:35 Far 78:2

[53] Yesuus erga fakkeenya kana dubbatee raawwatee booddee achii ka'ee deeme.
[54] Innis gara magaalaa itti dhalatee dhaqee mana sagadaa isaanii keessatti namoota
barsiisuu jalqabe; isaanis ni dinqisiifatan. Akkana jedhaniis gaafatan; "Namichi kun
ogummaa kanaa fi hojiiwwan dinqii kanneen eessaa argate? [55] Inni ilma namicha
muka soofu sanaati mitii? Maqaan haadha isaas Maariyaam mitii? Obboloonni isaas
Yaaqoob, Yoosef, Simoonii fi Yihuudaa mitii? [56] Obboleettonni isaa hundinuu nu bira
jiru mitii? Yoos namichi kun waan kana hundumaa eessaa argate?" [57] Isaanis isatti
gufatan.

Yesuus garuu, "Raajiin magaalaa itti dhalatee fi mana isaatti malee kabaja hin dhabu" jedheen.

[58] Innis sababii amantii dhabuu isaaniitiif hojii dinqii hedduu achitti hin hojjenne.

# 14

*Ajjeefamuu Yohannis Cuuphaa*
*14:1-12 kwf – Mar 6:14-29*

[1] Bara sana Heroodis bulchaan oduu waa'ee Yesuus dhaga'e; [2] innis tajaajiltoota
isaatiin, "Kun Yohannis Cuuphaa dha; inni warra du'an keessaa kaafameera!
Sababiin hojiin dinqii isaan hojjetamuufis kanuma" jedhe.

[3] Heroodis sababii niitii obboleessa isaa Fiiliphoos, sababii Heroodiyaasiitiif jedhee
Yohannisin qabee, hidhee mana hidhaatti galchee tureetii. [4] Kunis sababii Yohannis
Heroodisiin, "Ati ishee fuudhuun kee seera miti" jechaa tureef. [5] Inni immoo
Yohannisin ajjeesuu barbaade; garuu sababii namoonni Yohannisin akka raajiitti
ilaalaa turaniif isaan sodaate.

[6] Intalli Heroodiyaas guyyaa dhaloota Heroodisitti keessummoota duratti sirbitee
Heroodisin gammachiifte; [7] kanaafuu inni waan isheen gaafatte kam iyyuu isheef
kennuuf kakuudhaan waadaa gale. [8] Isheenis haadha isheetiin gorfamtee, "Mataa
Yohannis Cuuphaa gabatee irra kaa'ii naa kenni" jette. [9] Mootichis ni gadde; garuu
sababii kakuu isaatii fi sababii warra isa wajjin maaddiitti dhi'aataniitiif jedhee akka
wanni isheen barbaadde sun isheef kennamu ajaje; [10] innis nama ergee mana hidhaa
keessatti mataa Yohannis isa irraa kute. [11] Mataan isaas gabatee irra kaa'amee
fidamee intalattiitti kenname; isheenis haadha isheetti geessite. [12] Barattoonni
Yohannisis dhufanii reeffa isaa fuudhanii awwaalan. Isaanis dhaqanii Yesuusitti
himan.

*Yesuus Nama Kuma Shan Sooruu Isaa*
*14:13-21 kwf – Mar 6:32-44; Luq 9:10-17; Yoh 6:1-13*
*14:13-21 kwi – Mat 15:32-38*

[13] Yesuus yommuu waan kana dhaga'etti achii ka'ee kophaa isaa bidiruudhaan
iddoo namni hin jirre tokko dhaqe. Namoonnis yommuu waan kana dhaga'anitti
magaalaawwanii ba'anii miillaan isa duukaa bu'an. [14] Yesuus yommuu bidiruu
irraa bu'etti tuuta guddaa tokko arge; innis garaa laafeefii dhukkubsattoota isaanii
fayyiseef.

[15] Yommuu galgalaa'etti barattoonni gara isaa dhufanii, "Iddoon kun gammoojjii
dha; aduunis dhiiteerti. Namoonni kunneen gara gandootaa dhaqanii akka nyaata
bitataniif isaan gad dhiisi" jedhaniin.

[16] Yesuus garuu, "Deemuun isaan hin barbaachisu. Isinuu waan isaan nyaatan kennaafii" jedhee deebise.

[17] Isaanis, "Nu buddeena shanii fi qurxummii lama qofa asii qabna" jedhanii deebisan.

[18] Yesuusis, "Isuma natti fidaa" jedhe. [19] Innis akka namoonni marga irra tataa'an
ajajee buddeena shananii fi qurxummii lamaan sana fuudhee, gara samii ol ilaalee

galata galchee buddeena sana caccabsees barattootatti kenne; barattoonni immoo
namootaaf kennan. [20] Isaan hundi nyaatanii quufan; barattoonnis hurraa'aa hamb-
ifame gundoo kudha lama guutuu walitti qaban. [21] Warri nyaatanis dubartootaa fi
ijoollee malee gara dhiira kuma shanii turan.

*Yesuus Bishaan irra Deeme*
*14:22-33 kwf – Mar 6:45-51; Yoh 6:15-21*
*14:34-36 kwf – Mar 6:53-56*

[22] Yesuus yommusuma akka barattoonni bidiruu yaabbatanii hamma inni tuuta
sana of irraa geggeessutti isa dura gamatti darbaniif isaan dirqisiise. [23] Innis erga
namoota of irraa geggeessee booddee kadhachuuf kophaa isaa gaaratti ol ba'e.
Yommuu galgalaa'ettis kophaa isaa achi ture; [24] yeroo kanatti immoo bidiruun sun
lafa irraa xinnoo achi hiiqxee turte; sababii bubbeen fuula duraan itti bubbiseef
bidiruun sun dambaliidhaan asii fi achi raafamaa turte.
[25] Yesuusis halkan keessaa kutaa afuraffaatti galaana irra deemaa gara isaanii
dhufe. [26] Barattoonnis yommuu galaana irra deemuu isaa arganitti akka malee
rifatan. Sodaataniis, "Kun ekeraa dha" jedhanii iyyan.
[27] Yesuus garuu yommusuma, "Jabaadhaa! Anumaatii hin sodaatinaa" jedhee
isaanitti dubbate.
[28] Phexros immoo, "Yaa Gooftaa! Egaa si taanaan, akka ani bishaan irra deemee
gara kee dhufu na ajaji" jedhee deebiseef.
[29] Yesuusis, "Kottu" jedheen.
Phexros immoo bidiruu sana irraa bu'ee bishaan irra deemaa gara Yesuus dhufe.
[30] Yommuu bubbee jabaa sana argetti garuu ni sodaate; liqimfamuu jalqabnaanis,
"Yaa Gooftaa na oolchi!" jedhee iyye.
[31] Yesuus yommusuma harka isaa hiixatee isa qabee, "Yaa namicha amantii xinnoo
nana, ati maaliif mamte?" jedheen.
[32] Yommuu isaan bidiruu yaabbatanittis bubbeen sun gab jedhe. [33] Warri bidiruu
sana keessa turanis, "Ati dhuguma Ilma Waaqaa ti!" jedhanii isaaf sagadan.
[34] Isaanis yommuu gama ce'anitti Geensereexitti bidiruu irraa bu'an. [35] Namoonni
iddoo sanaas yommuu Yesuusin beekanitti biyya naannoo sanaa hundatti dhaamsa
ergan. Namoonnis dhukkubsattoota isaanii hunda isatti fidan; [36] akka dhukkubsat-
toonni sun handaara wayyaa isaa illee tuqaniif isa kadhatan; warri handaara wayyaa
isaa tuqan hundinuus ni fayyan.

# 15

*Wantoota Nama Xureessan*
*15:1-20 kwf – Mar 7:1-23*

[1] Ergasii Fariisonnii fi barsiistonni seeraa tokko tokko Yerusaalemii gara Yesuus
dhufanii, [2] "Barattoonni kee maaliif duudhaa maanguddootaa cabsu? Isaan yommuu
buddeena nyaatanitti harka hin dhiqataniitii!" jedhan.
[3] Yesuusis akkana jedhee deebise; "Isinis maaliif duudhaa keessaniif jettanii ajaja
Waaqaa cabsitu? [4] Waaqni, 'Abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina kenni;*namni
abbaa isaa yookaan haadha isaa arrabsu kam iyyuu haa ajjeefamu'†jedheeraatii.
[5] Isin garuu yoo namni kam iyyuu akka wanni silaa abbaa isaatiif yookaan haadha
isaatiif kennamuu malu 'Waaqaaf kennameera' jedhee dubbate, [6] inni waan sanaan
abbaa isaatiif yookaan haadha isaatiif ulfina kennuu hin qabu jettu. Akkanaanis
isin duudhaa keessaniif jettanii dubbii Waaqaa busheessitu. [7] Yaa fakkeessitoota!
Isaayyaas yommuu waa'ee keessan raajii dubbatetti sirrii ture; innis akkana jedhe:

* **15:4** 15:4 Bau 20:12; KeD 5:16 † **15:4** 15:4 Bau 21:17; Lew 20:9

8 “ ‘Uumanni kun hidhii isaatiin na kabaja;
garaan isaa garuu narraa fagoo jira.
9 Isaan akkanumaan na waaqeffatu;
barsiisni isaaniis sirnuma namaa ti.’‡”
10 Yesuusis tuuta sana ofitti waamee akkana jedheen; “Dhaga’aa; hubadhaas.
11 Waan afaan namaa keessaa ba’utu nama xureessa malee wanni afaan namaa seenu
nama hin xureessu.”
12 Ergasii barattoonni gara isaa dhufanii, “Ati akka Fariisonni dubbii kana
dhaga’anii mufatan beektaa?” jedhanii gaafatan.
13 Innis deebisee akkana jedhe; “Biqiltuun abbaan koo inni samii irraa hin dhaabin
hundinuu ni buqqifama. 14 Isaan dhiisaa; isaan qajeelchitoota jaamota. Jaamaan yoo
jaamaa qajeelche, isaan lachuu boolla keessa bu’u.”
15 Phexrosis, “Mee hiikkaa fakkeenya kanaa nuu ibsi” jedheen.
16 Yesuus immoo akkana jedhee isaan gaafate; “Isinis hamma ammaatti hin
hubattanii? 17 Akka wanni afaan seenu kam iyyuu garaa seenee achumaan darbee
dhagna keessaa ba’u hin argitanii? 18 Wanni afaan namaatii ba’u garuu nama keessaa
ba’a; namichas ni xureessa. 19 Sababiin isaas yaadni hamaan jechuunis ajjeesuun,
ejjummaan, halalummaan, hanni, sobaan dhugaa ba’uun, maqaa nama balleessuun
garaa namaa keessaa ba’aatii. 20 Wantoota kanneentu nama ‘xureessa’ malee utuu
harka hin dhiqatin nyaachuun nama hin xureessu.”

### *Amantii Dubartii Kana’aan Tokkoo*
*15:21-28 kwf – Mar 7:24-30*

21 Yesuusis iddoo sanaa ka’ee gara biyya Xiiroosii fi Siidoonaatti qajeele. 22 Kunoo,
dubartiin Kana’aan tokko naannoo sanaa gara isaa dhuftee iyyaa, “Yaa Gooftaa, yaa
Ilma Daawit, intalli koo hafuura hamaadhaan qabamtee akka malee dhiphachaa jirti;
na maari!” jette.
23 Yesuus garuu deebii tokko illee hin kennineef. Barattoonni isaas gara isaa
dhufanii, “Kunoo isheen iyyaa nu faana deemtiitii achi deebisi” jedhanii isa kadhatan.
24 Inni immoo, “Ani hoolota mana Israa’el kanneen badan sana qofaafan ergame”
jedhee deebise.
25 Dubartiin sunis dhuftee sagaddeefii, “Yaa Gooftaa na gargaari!” jette.
26 Innis, “Buddeena ijoollee fuudhanii saroota dura buusuun sirrii miti” jedhee
deebise.
27 Isheenis, “Eeyyee yaa Gooftaa, saroonni iyyuu hambaa maaddii gooftota isaanii
irraa harca’u nyaatu” jettee deebifteef.
28 Yesuusis, “Dubartii nana, amantiin kee guddaa dha! Akkuma fedhii keetii siif
haa ta’u” jedhee deebise. Intalli ishees sa’aatiidhuma sana fayyite.

### *Yesuus Nama Kuma Afur Soore*
*15:29-31 kwf – Mar 7:31-37*
*15:32-39 kwf – Mar 8:1-10*
*15:32-39 kwi – Mat 14:13-21*

29 Yesuus achii ka’ee gara Galaana Galiilaa dhaqe. Gaarattis ol ba’ee taa’e.
30 Namoonni hedduunis warra okkolan, warra jaaman, warra naafatan, warra
arrabni isaanii dubbachuu didee fi kanneen biraa hedduu fidanii miilla Yesuus jala
kaa’an; innis isaan fayyise. 31 Namoonni sunis yommuu akka warri arrabni hin
dubbanne dubbatan, warri naafatan fayyan, warri okkolan deeman, warra jaamaniif
immoo akka iji isaanii baname arganitti ni dinqifatan. Waaqa Israa’eliifis ulfina
kennan.

‡ **15:9** 15:9 Isa 29:13

32 Yesuus barattoota isaa ofitti waamee, “Ani namoota kanneeniif garaa nan laafa;
isaan guyyaa sadii na bira turan; waan nyaatan tokko illee hin qaban. Akka isaan
karaa irratti hin gaggabneefis ani agabuu isaanii gad isaan dhiisuu hin barbaadu”
jedhe.
33 Barattoonni isaas deebisanii, “Buddeena tuuta guddaa akkanaa ga’u gammoojjii
kana keessatti eessaa argachuu dandeenya?” jedhan.
34 Yesuus immoo, “Isin buddeena meeqa qabdu?” jedhee gaafate.
Isaanis deebisanii, “Buddeena torbaa fi qurxummii xixinnoo muraasa qabna”
jedhan.
35 Innis akka namoonni sun lafa tataa’an itti hime. 36 Ergasii buddeena torbanii fi
qurxummii sana fuudhee erga galateeffatee booddee kukkutee barattootatti kenne;
isaanis namootaaf kennan. 37 Isaan hundi nyaatanii quufan. Ergasiis barattoonni
hambaa gundoo torba guutuu walitti qaban. 38 Baay’inni warra nyaataniis ijoollee fi
dubartoota malee dhiira kuma afur ture. 39 Yesuus erga tuuta sana of irraa geggeessee
booddee bidiruu yaabbatee naannoo Magadaan dhaqe.

# 16

### *Mallattoon Gaafatamuu Isaa*
*16:1-12 kwf – Mar 8:11-21*

1 Fariisonnii fi Saduuqonni gara Yesuus dhufanii akka inni samii irraa mallattoo
isaan argisiisu gaafachuudhaan isa qoran.
2 Innis akkana jedhee deebise; “Isin yeroo galgalaa’utti, ‘Samiin diimateera; caama
ta’a’ jettu; 3 ganama immoo, ‘Samiin diimatee duumessaa’eeraatii har’a bokkaan
jabaan ni rooba’ jettu. Isin bifa samii addaan baasuu ni beektu; garuu mallattoo baraa
addaan baasuu hin dandeessan. 4 Dhaloonni hamaa fi ejjaan mallattoo barbaada;
garuu mallattoo Yoonaas malee mallattoon hin kennamuuf.” Yesuusis isaan dhiisee
deeme.

### *Raacitii Fariisotaatii fi Saduuqotaa*

5 Barattoonni yommuu galaanicha ce’anitti buddeena fudhachuu irraanfatan.
6 Yesuusis, “Beekkadhaa; raacitii Fariisotaatii fi Saduuqotaa irraa of eeggadhaa”
isaaniin jedhe.
7 Isaanis, “Kun sababii nu buddeena hin fidatiniif” jedhanii waan kana walii wajjin
haasa’an.
8 Yesuusis waan isaan haasa’an beekee akkana jedhee gaafate; “Yaa warra
amantii xinnoo nana, isin maaliif waa’ee buddeena dhabuu keessanii walii wajjin
dudubbattu? 9 Isin amma iyyuu hin hubattanii? Buddeenni shan nama kuma
shaniif dhi’eeffamee gundoo hammam guutuu akka walitti qabdan hin yaadattanii?
10 Yookaan buddeenni torba nama kuma afuriif dhi’eeffamee hambaa gundoo
hammam guutuu akka walitti qabdan hin yaadattanii? 11 Akka ani waa’ee buddeenaa
isinitti dubbachaa hin turin isin akkamitti hin hubanne? Garuu raacitii Fariisotaatii
fi Saduuqotaa irraa of eeggadhaa.” 12 Isaanis ergasii akka inni akka isaan raacitii
buddeenaa irraa of eeggataniif utuu hin ta’in akka barsiisa Fariisotaatii fi Saduuqotaa
irraa of eeggataniif isaanitti himaa ture hubatan.

### *Phexros Eenyummaa Kiristoos Beeksise*
*16:13-16 kwf – Mar 8:27-29; Luq 9:18-20*

13 Yesuus yeroo gara biyya Fiiliphoos Qiisaariyaa dhufetti, “Namoonni Ilma
Namaatiin eenyu jedhu?” jedhee barattoota isaa gaafate.

14 Isaanis, “Namoonni tokko tokko inni Yohannis Cuuphaa dha jedhu; warri kaan inni Eeliyaas jedhu; kaan immoo inni Ermiyaas yookaan raajota keessaa isa tokko dha jedhu” jedhanii deebisan.
15 Innis, “Isin hoo? Eenyu anaan jettu?” jedhee gaafate.
16 Simoon Phexrosis, “Ati Kiristoos, Ilma Waaqa jiraataa ti” jedhee deebise.
17 Yesuus immoo akkana jedhee deebiseef; “Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati eebb-
ifamaa dha; kana abbaa koo isa samii irraatu siif ibse malee nama miti. 18 Ani sittin
hima; ati Phexrosii dha; kattaa kana irratti waldaa kiristaanaa koo nan ijaara; karri
gahaannamis ishee hin mo’atu. 19 Ani furtuu mootummaa samii siifin kenna; wanni
ati lafa irratti hiitu kam iyyuu samii irratti ni hidhama; wanni ati lafa irratti hiiktu
kam iyyuu samii irrattis ni hiikama.” 20 Ergasiis akka isaan akka inni Kiristoos ta’e
nama tokkotti illee hin himneef barattoota isaa akeekkachiise.

### *Yesuus Duraan Dursee Waa’ee Du’a Isaa Dubbate*
*16:21-28 kwf – Mar 8:31–9:1; Luq 9:22-27*

21 Yesuus yeroo sanaa jalqabee akka Yerusaalem dhaqee harka maangud-dootaatti, harka luboota hangafootaattii fi harka barsiistota seeraatti waan hedduun dhiphachuu qabu, akka ajjeefamuu qabuu fi akka guyyaa sadaffaatti immoo du’aa kaafamu barattoota isaatiif ibsuu jalqabe.
22 Phexrosis kophaatti baasee, “Yaa Gooftaa, kun gonkumaa hin ta’in! Kun sirraa haa fagaatu!” jedhee isa ifachuu jalqabe.
23 Yesuus garuu of irra garagalee Phexrosiin, “Yaa Seexana nana! Na duubatti deebi’i! Ati gufuu natti taateerta; ati kan namaa yaadda malee kan Waaqaa hin yaadduutii” jedhe.
24 Ergasii Yesuus barattoota isaatiin akkana jedhe; “Namni kam iyyuu yoo na faana
dhufuu barbaade, inni of haa ganu. Fannoo ofii isaa baadhatees na duukaa haa bu’u.
25 Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu kam iyyuu lubbuu isaa ni dhabaatii; garuu
namni naaf jedhee lubbuu isaa dhabu kam iyyuu lubbuu isaa ni argata. 26 Namni yoo
addunyaa guutuu argatee lubbuu isaa immoo dhabe, bu’aan isaa maali? Yookaan
namni qooda lubbuu isaa maal kennuu danda’a? 27 Ilmi Namaa ulfina Abbaa isaatiin
ergamoota isaa wajjin dhufuuf jiraatii; innis yeroo sana tokkoo tokkoo namaatiif
akkuma hojii isaatti gatii isaa ni kenna.
28 “Ani dhuguman isinitti hima; warra as dhadhaabachaa jiran keessaa namoonni tokko tokko hamma utuu Ilmi Namaa mootummaa isaatiin dhufuu arganitti du’a hin dhandhaman.”

## 17

### *Bifti Yesuus Geeddaramuu Isaa*
*17:1-8 kwf – Luq 9:28-36*
*17:1-13 kwf – Mar 9:2-13*

1 Yesuus guyyaa ja’a booddee Phexrosin, Yaaqoobii fi Yohannis obboleessa Yaaqoob
fudhatee kophaa isaanii tulluu dheeraa tokkotti ol baase. 2 Innis achitti fuula isaanii
duratti geeddarame. Fuulli isaa akka aduu ife; uffanni isaas akkuma ifaa addaate.
3 Kunoo Musee fi Eeliyaas utuu Yesuus wajjin haasa’anuu isaanitti mul’atan.
4 Phexrosis Yesuusiin, “Yaa Gooftaa, as jiraachuun nuuf gaarii dha. Yoo fedhii kee ta’e, ani daasii sadii jechuunis tokko siif, tokko Museef, tokko immoo Eeliyaasiif asitti nan ijaara” jedhe.
5 Utuma inni dubbachaa jiruu kunoo, duumessi ifaan tokko isaan haguuge; duumessicha keessaas sagaleen tokko, “Kun Ilma koo isa ani jaalladhuu dha; ani isatti baay’ee nan gammada. Isinis isa dhaga’aa!” jedhe.

6 Barattoonnis yommuu waan kana dhaga'anitti akka malee sodaatanii adda
isaaniitiin lafatti gombifaman. 7 Yesuus garuu itti dhi'aatee isaan tuqee, "Ka'aa! Hin
sodaatinaa" jedheen. 8 Isaanis yommuu ol jedhanii ilaalanitti Yesuusin malee nama
tokko illee hin argine.
9 Utuu tulluu sana irraa bu'uutti jiranuus Yesuus, "Hamma Ilmi Namaa warra du'an
keessaa kaafamutti waan argitan sana nama tokkotti illee hin himinaa" jedhee isaan
seerrate.
10 Barattoonnis, "Yoos barsiistonni seeraa maaliif Eeliyaas akka duraan dursee
dhufuu qabu dubbatu ree?" jedhanii isa gaafatan.
11 Yesuus akkana jedhee deebise; "Dhugumaan, Eeliyaas waan hunda iddootti
deebisuuf jedhee duraan dursee ni dhufa. 12 Ani garuu isinittin hima; Eeliyaas
amma iyyuu dhufeera; isaanis isa hin hubanne; garuu waanuma fedhan hunda isatti
hojjetan. Ilmi Namaas akkasuma harka isaaniitti dhiphachuuf jira." 13 Barattoonnis
ergasii akka wanni inni isaanitti dubbachaa ture sun waa'ee Yohannis Cuuphaa ta'e
hubatan.

*Gurbaa Gaggabdoodhaan Qabame Tokko*
*17:14-19 kwf – Mar 9:14-28; Luq 9:37-42*

14 Yommuu isaan gara tuuta sanaa dhufanittis namichi tokko Yesuusitti dhi'aatee fu-
ula isaa duratti jilbeenfate; 15 akkanas jedhe; "Yaa Gooftaa, ilmi koo gaggabdoodhaan
qabamee akka malee rakkachaa jiraatii naaf maari. Yeroo hedduu ibidda keessatti
yookaan bishaan keessatti kufa. 16 Ani barattoota keetti isa nan fide; isaan garuu isa
fayyisuu hin dandeenye."
17 Yesuusis deebisee, "Isin dhaloota hin amannee fi jal'aa nana; ani hamma
yoomiittin isin wajjin jiraadha? Hamma yoomiittis ani isinii obsa? Mee gurbicha
as natti fidaa!" jedhe. 18 Yesuusis hafuura hamaa sana ifate; hafuurri hamaan sunis
gurbaa sana keessaa ba'e; gurbichis yommusuma fayye.
19 Ergasiis barattoonni kophaa isaanii gara Yesuus dhufanii, "Nu maaliif hafuura
hamaa sana baasuu dadhabne?" jedhanii isa gaafatan.
20 Innis akkana jedhee deebise; "Sababii amantiin keessan xinnaateefii dha.
Ani dhuguman isinitti hima; isin utuu amantii xinnoo hamma sanyii sanaaficaa
qabaattanii silaa tulluu kanaan, 'Asii ka'ii achi darbi' jechuu ni dandeessu; innis
ni darba. Wanni isiniif hin danda'amne tokko iyyuu hin jiru. [ 21 Hafuurri hamaan
akkanaa garuu soomaa fi kadhannaadhaan malee hin ba'u."]*
22 Yeroo isaan Galiilaatti walitti qabamanitti inni akkana isaaniin jedhe; "Ilmi
Namaa dabarfamee harka namootaatti ni kennama. 23 Isaanis isa ni ajjeesu; inni
immoo guyyaa sadaffaatti ni kaafama." Barattoonnis akka malee gaddan.

*Gibira Mana Qulqullummaa*

24 Yommuu Yesuusii fi barattoonni isaa Qifirnaahom ga'anitti qaraxxoonni gara
Phexros dhufanii, "Barsiisaan keessan gibira hin kaffaluu?" jedhanii gaafatan.
25 Innis deebisee, "Ni kaffala" jedheen.
Yesuus yommuu Phexros mana seenetti duraan dursee, "Yaa Simoon ati maal
yaadda? Mootonni lafaa eenyu irraa qaraxaa fi gibira walitti qabu? Ijoollee isaanii
irraa moo keessummoota irraa walitti qabu?" jedhee gaafate.
26 Phexrosis deebisee, "Keessummoota irraa walitti qabu" jedhe.
Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Yoos ijoolleen isaanii bilisa. 27 Garuu nu akka
isaan hin mufachiifneef dhaqiitii okkoo galaanatti darbadhu. Qurxummii jalqabatti
qabdus fuudhi; yommuu afaan isaa bantuttis maallaqa argatta. Maallaqa sanas
geessiitii anaa fi ofii keetiif isaanitti kenni."

* **17:21** 17:21 Waraabbileen durii tokko tokko luqqisaa 21 hin qaban.

# 18

*Nama Mootummaa Samii Keessatti Nama Hunda Caalu*
*18:1-5 kwf – Mar 9:33-37; Luq 9:46-48*

1 Yeruma sana barattoonni gara Yesuus dhufanii, “Yoos mootummaa samii keessatti
kan hundumaa caalu eenyu?” jedhanii gaafatan.
2 Innis mucaa xinnaa tokko ofitti waamee isaan gidduu dhaabe. 3 Akkanas jedhe:
“Ani dhuguman isinitti hima; isin yoo deebitanii akkuma ijoollee taatan malee
gonkumaa mootummaa samiitti hin galtan. 4 Kanaaf namni akka daaʼima kanaa gad
of qabu kam iyyuu mootummaa samii keessatti nama hunda caala. 5 Namni daaʼima
akkanaa tokko maqaa kootiin simatu kam iyyuu na simata.
6 “Namni kam iyyuu warra natti amanan xixinnaa kanneen keessaa tokko illee
yoo gufachiise, dhagaan daakuu guddaan morma isaatti hidhamee tuujuba galaanaa
keessa dhidhimuu isaaf wayya ture. 7 Sababii wantoota akka namoonni gufatan
godhan sanaatiif addunyaaf wayyoo! Wantoonni akkanaa dhufuu qabu; garuu nama
wantoonni kunneen karaa isaatiin dhufan sanaaf wayyoo! 8 Yoo harki kee yookaan
miilli kee si gufachiise, of irraa kutii gati. Harka lama yookaan miilla lama qabaattee
ibidda bara baraatti darbatamuu irra, dooluu taatee yookaan laamshoftee jireenyatti
galuu siif wayya. 9 Yoo iji kee si gufachiise of keessaa baasii gati. Ija lama qabaattee
ibidda gahaannamiitti darbatamuu irra ija tokko qabaattee jireenyatti galuu siif
wayya.

*Fakkeenya Hoolaa Badee*
*18:12-14 kwf – Luq 15:4-7*

10 “Warra xixinnaa kanneen keessaa tokko illee akka hin tuffanneef of eeggadhaa.
Ani isinitti nan hima; ergamoonni isaanii samii irratti yeroo hunda fuula Abbaa koo
isa samii irraa ni arguutii. [ 11 Ilmi Namaa isa bade oolchuudhaaf dhufeetii.]*
12 “Isin maal seetu? Namni tokko yoo hoolota dhibba qabaatee hoolota sana
keessaas tokko bade, namichi sun sagaltamii sagallan hafan kaan tulluuwwan irratti
dhiisee tokkicha bade sana barbaaduu hin dhaquu? 13 Ani dhuguman isinitti hima;
inni yoo hoolaa sana argate, hoolota sagaltamii sagallan hin badin irra hoolaa
tokkicha sanatti caalaa ni gammada. 14 Akkasuma immoo isaan xixinnoo kanneen
keessaa tokko iyyuu akka badu fedhii Abbaa keessan isa samii irraa miti.

*Cubbuu Walitti Hojjechuu*

15 “Yoo obboleessi kee cubbuu sitti hojjete, dhaqiitii iddoo isin lamaan qofti jirtanitti
balleessaa isaa itti himi. Yoo inni si dhagaʼe ati obboleessa kee deebifatteerta. 16 Yoo
si dhagaʼuu baate garuu ‘dubbiin hundinuu dhuga baatota lamaan yookaan sadiin
waan mirkaneeffamuuf’ nama biraa tokko yookaan nama lama fudhadhuu dhaqi.
17 Yoo inni jara dhagaʼuu dide waldaa kiristaanaatti himi; yoo inni waldaa kiristaanaa
iyyuu dhagaʼuu dide akka nama ormaattii fi akka qaraxxuutti isa fudhadhu.
18 “Ani dhuguman isinitti hima; wanni isin lafa irratti hiitan kam iyyuu samii irratti
ni hidhama; wanni isin lafa irratti hiiktan kam iyyuu samii irrattis ni hiikama.
19 “Ammas ani isinitti nan hima; isin keessaa yoo namoonni lama lafa irratti waaʼee
waan kadhatan kamii iyyuu walii galan Abbaan koo inni samii irraa isaaniif taasisa.
20 Iddoo itti namoonni lama yookaan sadii maqaa kootiin walitti qabamanitti ani
gidduu isaaniitti nan argamaatii.”

*Tajaajilaa Dhiifama Hin Goone Tokko*

21 Ergasii Phexros gara Yesuus dhufee, “Yaa Gooftaa, yoo obboleessi koo cubbuu
natti hojjete ani yeroo hammam dhiisaaf? Hamma yeroo torbaattii?” jedhee gaafate.

---

* **18:11** 18:11 Hiikkaawwan tokko tokko dubbii Luq 19:10 irra jiru dabalatu.

22 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; “Ani sitti nan hima; yeroo torbaatamii torba
malee yeroo torba miti.
23 “Kanaafuu mootummaan samii mootii herrega garboota isaa harka jiru to’achuu
barbaade tokko fakkaata. 24 Akkuma inni herrega isaa to’achuu jalqabeenis nama
mootichi taalaantii kuma kudhan irraa qabu tokko itti fidan. 25 Namichi sun waan
baasu dhabnaan gooftaan isaa akka inni, niitiin isaa, ijoolleen isaatii fi wanni inni
qabu hundinuu gurguramanii gatiin sun kaffalamu ajaje.
26 “Garbichi sunis miilla isaatti kufee, ‘Yaa gooftaa, naaf obsi; hunduma isaa iyyuu
siif nan kaffalaa’ jedhee isa kadhate. 27 Gooftaan garbicha sanaas garaa laafeef; gatii
isa irraa qabus dhiiseefii gad isa lakkise.
28 “Garbichi sun garuu akkuma achii ba’een garbicha akka isaa kan gatii
diinaarii†dhibbaa irraa qabu tokko arge. Innis morma namichaa hudhee qabee,
‘Waan ani sirraa qabu naa kaffali’ jedheen.
29 “Garbichi akka isaa sunis miilla isaatti kufee, ‘Naaf obsi; waan narra jiru siif nan
kaffalaa’ jedhee isa kadhate.
30 “Inni garuu ni dide; qooda kanaa hamma inni gatii isaa kaffalutti mana hidhaatti
isa galchisiise. 31 Garboonni kaan yommuu waan ta’e sana arganitti akka malee
gaddan; dhaqaniis waan ta’e hundumaa gooftaa isaaniitti himan.
32 “Gooftichis garbicha sana ofitti waamee akkana jedheen; ‘Yaa garbicha hamaa!
Ani sababii ati na kadhatteef gatii sirra ture hunda siif dhiise. 33 Akkuma ani garaa
siif laafe sana atis garbicha akka keetiitiif garaa laafuu hin qabduu?’ 34 Gooftaan isaas
aariidhaan hamma inni gatii sana hunda kaffalutti warra isa dhiphisanitti dabarsee
isa kenne.
35 “Isinis yoo garaa keessan guutuudhaan obboleessa keessaniif dhiisuu baattan
Abbaan koo inni samii irraa tokkoo tokkoo keessan akkanuma godha.”

# 19

### *Wal Hiikuu Dhirsaa fi Niitii*
### *19:1-9 kwf – Mar 10:1-12*

1 Yesuus erga dubbii kana dubbatee fixatee booddee, Galiilaadhaa ka’ee gama
Yordaanos gara biyya Yihuudaa dhaqe. 2 Namoonni baay’eenis isa duukaa bu’an;
innis achitti isaan fayyise.
3 Fariisonni tokko tokkos isa qoruuf gara isaa dhufanii, “Namni tokko waanuma
argeen niitii isaa hiikuun ni eeyyamamaa?” jedhanii gaafatan.
4 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Isin akka inni jalqabatti isaan uume sun,
‘dhiiraa fi dubartii taasisee isaan uume’*hin dubbifnee? 5 Inni akkana jedhe; ‘Sababii
kanaaf namni abbaa fi haadha isaa dhiisee niitii isaatti maxxana; lamaan isaanii
iyyuu foon tokko ta’u.’† 6 Egaa isaan si’achi foon tokko malee lama miti. Kanaafuu
waan Waaqni tokko taasise namni gargar hin baasin.”
7 Isaanis, “Yoos Museen maaliif akka namni tokko waraqaa ragaa hiikkaa kenneefii
niitii isaa of irraa geggeessu ajaje ree?” jedhanii isa gaafatan.
8 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Museen sababii mata jabina keessaniitiif jedhee
akka isin niitota keessan hiiktan isiniif eeyyame. Jalqabatti garuu akkana hin turre.
9 Ani isinittin hima; namni utuu isheen halalummaa hin hojjetin niitii isaa hiikee
dubartii biraa fuudhu kam iyyuu ejja raawwata.”
10 Barattoonni isaas, “Haalli dhirsaa fi niitii akkana taanaan fuudhuu dhiisuu
wayya” jedhaniin.

---

† **18:28** 18:28 Diinaariin mindaa guyyaatti hojjetaa tokkoof kaffalamu ture. * **19:4** 19:4 Uma 1:27 † **19:5**
19:5 Uma 2:24

11 Yesuusis akkana jedheen; “Waan kana warra isaaniif kenname qofa malee
namni hundi fudhachuu hin danda’u. 12 Warri xu’aashii ta’anii gadameessa haadha
isaaniitii dhalatan jiruutii; warri harka namaatiin xu’aashii ta’anis jiru; kanneen
mootummaa samiitiif jedhanii xu’aashii of taasisanis jiru; namni kana fudhachuu
danda’u haa fudhatu.”

*Yesuus Daa’imman Xixinnoo Eebbise*
*19:13-15 kwf – Mar 10:13-16; Luq 18:15-17*

13 Ergasii akka inni harka isaan irra kaa’ee isaaniif kadhatuuf ijoollee xixinnoo
Yesuusitti fidan. Barattoonni garuu isaan ifatan.
14 Yesuusis, “Ijoolleen xixinnoon gara koo haa dhufaniitii hin dhowwinaa; mootum-
maan samii kan warra akkanaatii” jedhe. 15 Innis erga harka isaa isaan irra kaa’ee
booddee achii deeme.

*Dargaggeessa Sooressa Tokko*
*19:16-29 kwf – Mar 10:17-30; Luq 18:18-30*

16 Kunoo namichi tokko gara Yesuus dhufee, “Yaa barsiisaa, jireenya bara baraa
argachuuf wanni gaariin ani gochuu qabu maali?” jedhee gaafate.
17 Yesuus immoo, “Ati maaliif waa’ee waan gaarii na gaafatta? Gaariin Isa Tokkicha
qofatu jira. Ati yoo jireenyatti galuu barbaadde ajajawwan eegi” jedhee deebise.
18 Namichis, “Ajajawwan kami?” jedhee gaafate.
Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “ ‘Hin ajjeesin; hin ejjin; hin hatin; sobaan
dhugaa hin ba’in; 19 abbaa keetii fi haadha kee kabaji;‡ollaa kee akkuma ofii keetiitti
jaalladhu.’§”
20 Dargaggeessi sunis, “Ani ajajawwan kanneen hunda eegeera. Yoos maaltu amma
iyyuu na duraa hir’ata ree?” jedheen.
21 Yesuusis, “Ati yoo nama hir’ina hin qabne ta’uu barbaadde, dhaqiitii waan qabdu
gurgurii hiyyeeyyiif kenni; samii keessatti badhaadhummaa ni qabaattaa. Ergasii
kottuu na duukaa bu’i” jedhee deebiseef.
22 Dargaggeessi sunis yommuu waan kana dhaga’etti gaddee achii deeme; inni
qabeenya guddaa qaba tureetii.
23 Yesuusis barattoota isaatiin akkana jedhe; “Ani dhuguma isinittin hima;
mootummaa samiitti galuun nama sooressaaf rakkisaa dha. 24 Ammas isinittin hima;
namni sooressi mootummaa Waaqaatti galuu irra qaawwa lilmoo keessa ba’uutu
gaalaaf salphata.”
25 Barattoonni yommuu waan kana dhaga’anitti akka malee raajeffatanii, “Yoos
eenyutu fayyuu danda’a ree?” jedhanii gaafatan.
26 Yesuusis isaan ilaalee, “Kun namaaf hin danda’amu; Waaqaaf garuu wanni
hundinuu ni danda’ama” jedhe.
27 Kana irratti Phexros, “Kunoo, nu waan hunda dhiifnee si duukaa buuneerra!
Egaa maal arganna ree?” jedhee deebise.
28 Yesuus immoo akkana isaaniin jedhe; “Ani dhuguma isinittin hima; addunyaa
haaraa keessatti, yeroo Ilmi Namaa teessoo isaa ulfina qabeessa sana irra taa’utti,
isin warri na duukaa buutanis akkasuma teessoowwan kudha lama irra teessanii
gosoota Israa’el kudha lamaanitti murtu. 29 Namni maqaa kootiif jedhee manneen
yookaan obboloota yookaan obboleettota yookaan abbaa yookaan haadha yookaan
niitii yookaan ijoollee yookaan lafa qotiisaa dhiise hundi dachaa dhibba ni argata;
jireenya bara baraas ni dhaala. 30 Garuu warri jalqabaa hedduun warra dhumaa ni
ta’u; warri dhumaa hedduun immoo warra jalqabaa ni ta’u.

‡ **19:19** 19:19 Bau 20:12-16; KeD 5:16-20 § **19:19** 19:19 Lew 19:18

# 20

*Fakkeenya Warra Iddoo Dhaaba Wayinii Keessa Hojjetanii*

1 “Mootummaan samiis abbaa lafaa kan iddoo dhaabaa wayinii isaatti hojjettoota
qacarachuuf jedhee barii obboroo manaa ba’e tokko fakkaata. 2 Innis guyyaatti
diinaarii*tokko tokko isaanii kaffaluuf hojjettoota sanaan walii galee gara iddoo
dhaabaa wayinii isaatti isaan erge.
3 “Namichi sunis gara sa’aatii sadiitti gad ba’ee namoota hojii malee iddoo gabaa
dhadhaabatan kanneen biraa arge. 4 ‘Isinis dhaqaatii iddoo dhaabaa wayinii kootii
keessa hojjedhaa; anis waan isiniif malu isiniifin kaffalaa’ jedheen. 5 Isaanis ni
dhaqan.
“Ammas gara sa’aatii ja’aa fi gara sa’aatii sagaliitti gad ba’ee akkasuma godhe.
6 Naannoo sa’aatii kudha tokkoottis gad ba’ee namoota hojii malee dhadhaabatan
biraa argee, ‘Isin maaliif guyyaa guutuu hojii malee as dhadhaabattu?’ jedhee isaan
gaafate.
7 “Isaanis, ‘Sababii namni tokko illee nu hin qacaratiniif’ jedhanii deebisan.
“Inni immoo, ‘Isinis dhaqaatii iddoo dhaabaa wayinii kootii keessa hojjedhaa’
jedheen.
8 “Yommuu galgalaa’etti abbaan iddoo dhaabaa wayinii sanaa hoogganaa hojii
isaatiin, ‘Hojjettoota waami; warra gara dhumaatti qacaramanii jalqabii hamma
warra dura qacaramaniitti mindaa isaanii kaffaliif’ jedheen.
9 “Warri gara sa’aatii kudha tokkootti qacaraman sunis dhufanii tokkoon tokkoon
isaanii diinaarii tokko tokko fudhatan. 10 Warri jalqabatti qacaraman yommuu
dhufanitti waan warra kaan caalaa argatan se’an. Garuu tokkoon tokkoon isaanii
diinaarii tokko tokko fudhatan. 11 Isaan yommuu diinaarii sana fudhatanitti abbaa
lafaa sanatti guunguman. 12 Isaanis, ‘Warri gara dhumaatti qacaraman kunneen
sa’aatii tokko qofa hojjetan; ati garuu nu warra dadhabbii hojichaatii fi ho’a guyyaa
obsine isaaniin wal qixxeessite’ jedhaniin.
13 “Inni garuu hojjettoota sana keessaa isa tokkoon, ‘Yaa michuu ko, ani waan
tokkoon illee si hin miine. Ati diinaarii tokkoon naan walii hin gallee? 14 Qooda
kee fudhadhuu deemi; ani namicha isa gara dhumaa kanaafis hammuma siif kenne
sana kennuufii nan barbaada. 15 Ani qarshii kootiin waan barbaade gochuuf mirga
hin qabuu? Yookaan sababii ani arjaa ta’eef hinaaftaa?’ jedhe.
16 “Akkasuma warri dhumaa warra jalqabaa ni ta’u; warri jalqabaa immoo warra
dhumaa ni ta’u.”

*Yesuus Yeroo Sadaffaa Waa’ee Du’a Isaa Duraan Dursee Dubbate*
*20:17-19 kwf – Mar 10:32-34; Luq 18:31-33*

17 Yesuus utuu Yerusaalemitti ol ba’aa jiruu barattoota kudha lamaan kophaatti
baasee akkana jedheen: 18 “Kunoo nu Yerusaalemitti ol ba’aa jirra; Ilmi Namaas
dabarfamee luboota hangafootattii fi barsiistota seeraatti ni kennama. Isaanis du’a
itti muru; 19 akka isaan itti qoosaniif, isa garafanii fi isa fannisaniifis dabarsanii
Namoota Ormaatti isa kennu. Innis guyyaa sadaffaatti du’aa ni kaafama!”

*Gaaffii Haadha Ilmaan Zabdewoos*
*20:20-28 kwf – Mar 10:35-45*

20 Ergasiis haati ilmaan Zabdewoos ilmaan ishee wajjin gara Yesuus dhuftee
jilbeenfattee waa isa kadhatte.
21 Yesuusis, “Ati maal barbaadda?” jedheen.

* **20:2** 20:2 Diinaariin mindaa guyyaatti hojjetaa tokkoof kaffalamu ture.

Isheenis, "Akka ilmaan koo kunneen lamaan mootummaa kee keessatti inni tokko mirga keetiin, inni kaan immoo bitaa keetiin taa'u naa godhi" jetteen.
22 Yesuus immoo, "Isin waan kadhattan hin beektan; xoofoo ani dhuguuf jiru dhuguu ni dandeessuu?" jedheen.
Isaanis, "Ni dandeenya" jedhanii deebisan.
23 Yesuusis, "Dhugumaan xoofoo koo irraa illee ni dhugdu; garuu mirga kootii fi bitaa kootiin taa'uu kan kennu ana miti. Iddoon kun kan warra Abbaan koo isaaniif qopheesse sanaa ti" jedheen.
24 Warri kurnan yommuu waan kana dhaga'anitti obboloota lamaanitti aaran.
25 Yesuusis walitti isaan waamee akkana jedhe; "Isin akka bulchitoonni Namoota Ormaa isaan irratti gooftummaa mul'isan, gurguddoonni isaaniis akka isaan irratti taayitaa argisiisan ni beektu. 26 Isin biratti akkas miti. Qooda kanaa namni isin keessaa nama guddaa ta'uu barbaadu kam iyyuu tajaajilaa keessan ta'uu qaba;
27 namni nama jalqabaa ta'uu barbaadu kam iyyuu garbicha keessan ta'uu qaba;
28 Ilmi Namaa iyyuu tajaajiluu fi lubbuu isaa immoo namoota baay'eedhaaf furii godhee kennuuf dhufe malee tajaajilamuuf hin dhufneetii."

### *Jaamonni Lama Fayyifamuu Isaanii*
*20:29-34 kwf – Mar 10:46-52; Luq 18:35-43*

29 Utuu Yesuusii fi barattoonni isaa Yerikoodhaa ba'aa jiranuu, tuunni namootaa guddaan isa duukaa bu'e. 30 Kunoo, jaamonni lama qarqara karaa tataa'aa turan;
isaanis yommuu akka Yesuus achiin darbaa jiru dhaga'anitti iyyanii, "Gooftaa, yaa Ilma Daawit nu maari!" jedhan.
31 Tuunni sunis akka isaan cal'isaniif isaan ifate; isaan garuu, "Yaa Gooftaa, yaa Ilma Daawit nu maari!" jedhanii ittuma caalchisanii iyyan.
32 Yesuusis dhaabatee isaan waamee, "Akka ani maal isinii godhu barbaaddu?" jedhee isaan gaafate.
33 Isaan immoo, "Yaa Gooftaa, akka iji keenya nuuf banamu barbaanna" jedhanii deebisan.
34 Yesuusis garaa laafeefii ija isaanii qaqqabe. Isaanis yeruma sana arganii isa duukaa bu'an.

## 21

### *Yesuus Akka Mootiitti Yerusaalem Seenuu Isaa*
*21:1-9 kwf – Mar 11:1-10; Luq 19:29-38*
*21:4-9 kwf – Yoh 12:12-15*

1 Akkuma isaan Yerusaalemitti dhi'aatanii Beetfaagee ishee Gaara Ejersaa irraa sana ga'aniin Yesuus barattoota lama erge; 2 akkanas isaaniin jedhe; "Gara ganda fuula keessan dura jiru sanaa dhaqaa; yommusuma harree hidhamte tokko ilmoo ishee wajjin ni argattu. Lachan isaanii hiikaatii naa fidaa. 3 Yoo namni tokko iyyuu waan tokko isiniin jedhe, 'Gooftaatu isaan barbaada' jedhaa; innis yommusuma erga."
4 Kunis akka wanni karaa raajichaatiin dubbatame sun raawwatamuuf ta'e; innis akkana jedha:
5 "Akkana jedhaa Intala Xiyoonitti himaa;
'Kunoo, mootiin kee gad of qabee,
harree yaabbatee, ilmoo harree jechuunis
harree xinnoo yaabbatee, gara kee dhufa.' "*
6 Barattoonnis dhaqanii akkuma Yesuus isaan ajaje godhan. 7 Isaanis harree fi ilmoo harree sana fidan; uffata isaaniis isaan irra buusan; Yesuusis isaan irra taa'e.

* **21:5** 21:5 Zak 9:9

8 Namoonni akka malee baay'een uffata isaanii karaa irra afan; warri kaan immoo
dameewwan mukaa kukkutanii karaa irra bubuusan. 9 Namoonni isa dura deemaa
turanii fi warri isa duukaa bu'aa turan iyyanii,
"Hoosaa'inaa Ilma Daawitiif!"

"Inni maqaa Gooftaatiin dhufu eebbifamaa dha!"[†]

"Hoosaa'inaa ol gubbaatti!" jedhan.
10 Yommuu Yesuus Yerusaalem seenetti, magaalaan sun guutummaatti raafamtee,
"Kun eenyu?" jette.
11 Tuunni sun immoo, "Kun Yesuus, raajicha Naazreeti Galiilaati" jedhee deebise.

*Yesuus Mana Qulqullummaa Keessatti*
*21:12-16 kwf – Mar 11:15-18; Luq 19:45-47*

12 Yesuus mana qulqullummaa seenee warra mana qulqullummaa keessatti
bitatanii fi gurguratan hundumaa ari'e. Minjaala warra maallaqa geeddarataniitii fi
barcuma warra gugee gurguratanii garagalche. 13 Innis, " 'Manni koo mana kadhan-
naa jedhama'[‡]jedhamee barreeffameera; isin garuu holqa saamtotaa gootaniirtu"[§]
isaaniin jedhe.
14 Jaamonnii fi warri naafatan mana qulqullummaa keessatti gara isaa dhufan;
innis isaan fayyise. 15 Luboonni hangafoonnii fi barsiistonni seeraa yommuu hojii
dinqisiisaa inni hojjete arganii ijoollee mana qulqullummaa keessatti, "Hoosaa'inaa
ilma Daawitiif" jedhanii iyyan dhaga'anitti ni aaran.
16 Isaanis, "Ati waan ijoolleen kunneen jedhan dhageessaa?" jedhanii isa gaafatan.
Yesuus immoo, "Eeyyee;" isin waan,
" 'Yaa Gooftaa, ati afaan daa'immaniitii fi mucoolii harma hodhanii irraa,
galata qopheessiteerta'
jedhu sana takkumaa hin dubbifnee?"[*]
jedhee deebise.
17 Innis isaan biraa deemee magaalaa sanaa ba'e; Biitaaniyaa dhaqee achi bule.

*Mukni Harbuu Goguu Isaa*
*21:18-22 kwf – Mar 11:12-14,20-24*

18 Yesuus ganama barii utuu gara magaalattiitti deebi'uu beela'e. 19 Muka harbuu
tokkos karaa biratti argee itti gore; garuu baala malee waa tokko illee hin arganne.
Innis, "Iji bara baraan sirratti hin argamin!" jedheen. Mukni sunis yeruma sana
goge.
20 Barattoonnis yommuu waan kana arganitti ni dinqisiifatan. Isaanis, "Harbuun
sun akkamitti yommusuma goge?" jedhanii gaafatan.
21 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Ani dhuguman isinitti hima; yoo amantii
qabaattan, yoo mamuu baattanis, waan muka harbuu sana irratti ta'e qofa utuu hin
ta'in, tulluu kanaan illee, 'Ka'i! Galaanatti darbatami!' yoo jettan ni ta'a. 22 Isin yoo
amantii qabaattan waan kadhannaadhaan gaafattan hunda ni argattu."

*Taayitaan Yesuus Gaaffii Uume*
*21:23-27 kwf – Mar 11:27-33; Luq 20:1-8*

23 Utuu Yesuus mana qulqullummaa seenee barsiisaa jiruu luboonni hangafoonnii fi
maanguddoonni sabaa gara isaa dhufanii, "Ati taayitaa maaliitiin wantoota kanneen
hojjetta? Eenyutu taayitaa kana siif kenne?" jedhanii gaafatan.

---

[†] **21:9** 21:9 Far 118:26 [‡] **21:13** 21:13 Isa 56:7 [§] **21:13** 21:13 Erm 7:11 [*] **21:16** 21:16 Far 8:2

24 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Anis gaaffii tokkon isin gaafadha; yoo isin naaf
deebiftan, anis taayitaa maaliitiin wantoota kanneen akkan hojjedhu isinittin hima.
25 Cuuphaan Yohannis eessaa dhufe? Samii irraa moo nama biraa dhufe?"
Isaanis waliin mari'atanii akkana jedhan; "Yoo nu, 'Samii irraa dhufe' jenne, inni immoo, 'Yoos isin maaliif isa hin amanin ree?' nuun jedha.
26 Yoo nu, 'Nama biraa
dhufe' jenne garuu namoota sodaanna; isaan hundinuu Yohannisin akka raajiitti ilaaluutii."
27 Kanaaf isaan, "Hin beeknu!" jedhanii Yesuusiif deebisan.
Inni immoo akkana jedhe; "Anis taayitaa maaliitiin akkan wantoota kanneen hojjedhu isinitti hin himu."

*Fakkeenya Ilmaan Lamaanii*

28 "Maal seetu? Nama ilmaan lama qabu tokkotu ture; innis gara ilma isaa hangafaa dhaqee, 'Yaa ilma ko, har'a dhaqiitii iddoo dhaabaa wayinii keessa hojjedhu' jedheen.
29 "Ilmi sunis deebisee, 'Ani hin dhaqu' jedhe; ergasii garuu gaabbee dhaqe.
30 "Namichis gara ilma isaa isa kaanii dhaqee akkasuma jedheen. Ilmi isaa sunis, 'Yaa gooftaa nan dhaqa' jedhee deebiseef; garuu hin dhaqne.
31 "Ilmaan lamaan keessaa isa kamtu fedhii abbaa isaa guute?"
Isaanis, "Isa jalqabaa ti" jedhan.
Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "Ani dhuguman isinitti hima; qaraxxoonnii
fi sagaagaltoonni isin dura mootummaa Waaqaatti ni galu.
32 Yohannis karaa
qajeelummaa isinitti argisiisuu dhufeetii; isin immoo isa hin amanne. Qaraxxoonnii fi sagaagaltoonni garuu isa amanan; isin erguma waan kana argitan illee qalbii jijjiirrattanii isatti hin amanne.

*Fakkeenya Qottuuwwanii*

*21:33-46 kwf – Mar 12:1-12; Luq 20:9-19*

33 "Fakkeenya biraa tokko dhaga'aa; abbaa lafaa kan iddoo dhaabaa wayinii irra wayinii dhaabbate tokkotu ture. Innis naannoo isaatti dallaa ijaaree, achi keessatti boolla itti wayinii cuunfan qotee qooxii eegumsaa ijaare. Ergasiis lafa wayinii sana
qonnaan bultootatti kiraa kennatee biyya fagoo dhaqe.
34 Innis yeroon itti midhaan
walitti qaban geenyaan akka isaan ija isaa fidaniifiif garboota isaa qottuuwwan sanatti ergate.
35 "Qottuuwwan sunis garboota namichaa qabanii, isa tokko ni dhaanan; isa kaan
ni ajjeesan; isa sadaffaa immoo dhagaan tuman.
36 Ammas garboota warra duraa
caalaa baay'atan biraa ergate; qonnaan bultoonni sunis akkuma sana isaan godhan.
37 Dhuma irrattis inni, 'Ilma koo ni kabaju' jedhee ilma isaa isaanitti ergate.
38 "Qottoonni sun garuu yommuu ilma sana arganitti, 'Dhaaltuun isa kana. Kottaa
isa ajjeefnee dhaala isaa fudhannaa!' waliin jedhan.
39 Kanaafuu isaan fuudhanii
iddoo dhaabaa wayinii keessaa gad baasanii isa ajjeesan.
40 "Egaa abbaan iddoo dhaabaa wayinii sanaa yommuu dhufutti qottuuwwan sana maal godhinna laata?"
41 Isaanis, "Inni namoota hamoo sana haala hamaadhaan ni balleessa; iddoo dhaabaa wayinii sanas qottuuwwan yeroo midhaan walitti qabamutti qooda midhaan isaa kennaniif kanneen biraatti dabarsee ni kenna" jedhanii deebisan.
42 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "Isin dubbii Katabbiiwwan Qulqulluu keessatti,
" 'Dhagaan ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee ta'eera;
kanas Gooftaatu godhe;
kun immoo ija keenyatti dinqii dha'†jedhu sana

† **21:42** 21:42 Far 118:22,23

gonkumaa hin dubbifnee?
43 "Kanaafuu ani isinittin hima; mootummaan Waaqaa isin irraa fudhatamee saba
ija isaa godhatutti ni kennama. 44 Namni dhagaa kana irratti kufu kam iyyuu caccabee
bututa; namni dhagichi irratti kufu kam iyyuu ni daakama."
45 Luboonni hangafoonnii fi Fariisonni yommuu fakkeenyawwan Yesuus
dhaga'anitti akka inni waa'ee isaanii dubbate beekan. 46 Isaanis isa qabuu
barbaadan; garuu sababii namoonni Yesuusin akka raajiitti ilaalaa turaniif namoota
sana sodaatan.

# 22

*Fakkeenya Cidha Fuudhaa fi Heerumaa*
*22:2-14 kwi – Luq 14:16-24*

1 Yesuus ammas akkana jedhee fakkeenyaan deebii kenneef: 2 "Mootummaan samii
mootii ilma isaatiif cidha fuudhaa qopheesse tokko fakkaata. 3 Innis akka isaan warra
cidha sanatti affeeraman waamaniif garboota isaa erge; warri waamaman sun garuu
dhufuu hin barbaanne.
4 "Ammas akkana jedhee garboota biraa erge; 'Kunoo ani irbaata koo qopheesseera:
Sangoonni koo, horiin koo coccoomoonis qalamanii wanni hundinuu qopheef-
fameera. Gara cidha fuudhaa fi heerumaa kottaa jedhaatii warra affeeraman sanatti
himaa.'
5 "Isaan garuu tuffatanii, inni tokko gara lafa qotiisaa isaa, kaan immoo gara daldala
isaa dhaqe. 6 Warri hafan immoo garboota isaa qabanii salphisan; ni ajjeesanis.
7 Mootichis ni aare. Loltoota isaas ergee warra garboota isaa ajjeesan sana balleesse;
magaalaa isaaniis ni gube.
8 "Ergasii inni garboota isaatiin akkana jedhe; 'Dhangaan cidha fuudhaa qopheef-
fameera; warri affeeraman garuu cidha kanaaf hin malle. 9 Kanaafuu gara qaxxaa-
mura karaatti ba'aatii nama argitan hunda gara cidhaatti affeeraa.' 10 Garboonni
sunis karaatti ba'anii nama argan hunda, hamaas gaariis walitti qaban; galmi cidhaa
sunis keessummootaan guutame.
11 "Mootichi yommuu keessummoota ilaaluuf ol seenetti, nama uffata cidhaa hin
uffatin tokko achitti arge. 12 Innis, 'Yaa michuu ko, ati akkamitti utuu uffata cidhaa
hin uffatin as seente?' jedhee isa gaafate. Namichi garuu waan dubbatu dhabe.
13 "Mootichis tajaajiltoota isaatiin, 'Namicha kana harkaa fi miilla hidhaatii
dukkana alaatti gad darbadhaa; achittis boo'uu fi ilkaan qaruutu ta'a' jedhe.
14 "Warri affeeraman baay'eedhaatii; warri filataman garuu muraasa."

*Qeesaariif Gibira Kaffaluu*
*22:15-22 kwf – Mar 12:13-17; Luq 20:20-26*

15 Ergasiis Fariisonni waanuma inni dubbatuun isa qabuuf gad ba'anii Yesuusitti
mari'atan. 16 Isaanis barattoota isaanii garee Heroodis wajjin isatti ergan. Akkanas
jedhan; "Yaa barsiisaa, akka ati nama dhugaa taate, akka ati dhugaadhaan karaa
Waaqaa barsiiftu beekna. Ati nama wal hin caalchiftu; fuula namaas hin ilaaltu.
17 Egaa mee nutti himi; yaadni kee maali? Qeesaariif gibira kaffaluun eeyyamameera
moo hin eeyyamamne?"
18 Yesuus garuu hammina isaanii beekee akkana jedhe; "Yaa fakkeessitoota nana,
isin maaliif na qortu? 19 Mee maallaqa gibira kaffaltan natti argisiisaa." Isaanis
diinaarii tokko isatti fidan; 20 inni immoo, "Fakkiin kun kan eenyuu ti? Katabbiin
kunis kan eenyuu ti?" jedhee isaan gaafate.
21 Isaanis, "Kan Qeesaari" jedhanii deebisan.
Kana irratti inni, "Yoos kan Qeesaar Qeesaariif, kan Waaqaa immoo Waaqaaf
kennaa" jedheen.

22 Isaanis yommuu waan kana dhaga'anitti ni dinqifatan. Kanaaf isa dhiisanii
qajeelan.

*Waa'ee Du'aa Ka'uu*
*22:23-33 kwf – Mar 12:18-27; Luq 20:27-40*

23 Guyyuma sana Saduuqonni warri du'aa ka'uun hin jiru jedhan tokko tokko
gara isaa dhufanii gaaffii isa gaafatan. 24 Akkanas jedhan; "Yaa barsiisaa, Museen,
'Namni tokko niitii fuudhee utuu ijoollee hin dhalchin yoo du'e obboleessi isaa niitii
sana dhaalee obboleessa isaatiif sanyii haa dhaabu' jedhee nutti himeera. 25 Kunoo
obboloota torbatu nu bira ture. Inni jalqabaa niitii fuudhee utuu ijoollee hin qabaatin
niitii isaa obboleessa isaatti dhiisee du'e. 26 Obboleessa lammaffaa fi sadaffaa irratti,
hamma isa torbaffaattis waanuma sanatu ta'e. 27 Dhuma irratti dubartittiinis ni
duute. 28 Egaa guyyaa du'aa ka'uutti, torban isaanii keessaa isheen niitii isa kamii
taati? Hundi isaanii iyyuu ishee fuudhaniiruutii."

29 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; "Isin waan Katabbiiwwan Qulqulluu
yookaan humna Waaqaa hin beekneef dogoggortu. 30 Guyyaa du'aa ka'uutti
namoonni akka ergamoota samii ta'u malee hin fuudhan; hin heerumanis. 31 Garuu
isin waan Waaqni waa'ee du'aa ka'uu warra du'anii isiniin jedhe hin dubb-
ifnee? Innis akkana jedha; 32 'Ani Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaqii fi Waaqa
Yaaqoob.'* Inni Waaqa warra jiraataniiti malee Waaqa warra du'anii miti."

33 Namoonni yommuu waan kana dhaga'anitti, barsiisa isaa dinqifatan.

*Ajaja Ajajawwan Hunda Caalu*
*22:34-40 kwf – Mar 12:28-31*

34 Fariisonni yommuu akka Yesuus Saduuqota afaan qabachiise dhaga'anitti walitti
qabaman. 35 Isaan keessaas hayyuun seeraa tokko akkana jedhee gaaffii kanaan isa
qore: 36 "Yaa barsiisaa, seera keessaa ajajni guddaan isa kami?"

37 Yesuusis akkana jedheen; "Waaqa kee Gooftich garaa kee guutuudhaan, lubbuu
kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan jaalladhu.† 38 Kunis ajaja jalqabaatii fi
guddicha. 39 Ajajni lammaffaanis isuma fakkaata: 'Ollaa kee akkuma ofii keetiitti
jaalladhu'‡ jedha. 40 Seerrii fi Raajonni hundinuu ajajawwan kanneen lamaan irratti
hundeeffamu."

*Kiristoos Ilma Eenyuu ti?*
*22:41-46 kwf – Mar 12:35-37; Luq 20:41-44*

41 Utuu Fariisonni walitti qabamanii jiranuu Yesuus gaaffii tokko isaan gaafate;
42 innis, "Isin waa'ee Kiristoos maal yaaddu? Inni ilma eenyuu ti?" jedhe.

Isaanis, "Inni Ilma Daawit" jedhanii deebisan.

43 Innis akkana isaaniin jedhe; "Yoos Daawit akkamitti Hafuuraan geggeeffamee,
'Gooftaa' isaan jedha ree? Inni akkana jedhaatii:

44 " 'Gooftaan Gooftaa kootiin:
"Hamma ani diinota kee
miilla kee jala siif galchutti
gara mirga koo taa'i"§ jedhe.'

45 Erga Daawit, 'Gooftaa' jedhee isa waame, yoos inni akkamitti ilma isaa ta'uu
danda'a ree?" 46 Namni tokko iyyuu waan tokko isaaf deebisuu hin dandeenye;
gaafasii jalqabee namni tokko iyyuu deebi'ee gaaffii isa gaafachuuf ija hin jabaanne.

---

* **22:32** 22:32 Bau 3:6 † **22:37** 22:37 KeD 6:5 ‡ **22:39** 22:39 Lew 19:18 § **22:44** 22:44 Far 110:1

# 23

*Akeekkachiisa Yesuus Kenne*
*23:1-7 kwf – Mar 12:38,39; Luq 20:45,46*
*23:37-39 kwf – Luq 13:34,35*

[1] Yesuusis ergasii uummataa fi barattoota isaatiin akkana jedhe: [2] "Barsiistonni
seeraatii fi Fariisonni barcuma Musee irra taa'aniiru. [3] Kanaafuu waan isaan isinitti
himan hundumaa godhaa; eegaas. Garuu waan isaan hojjetan hin hojjetinaa; isaan ni
dubbatu malee waan dubbatan sana hin hojjetaniitii. [4] Isaan ba'aa ulfaataa hidhanii
gatiittii namaa irra kaa'u; ofii isaaniitii garuu ba'aa sana sochoosuuf qubaan illee
tuquu hin barbaadan.
[5] "Isaan waan hojjetan hundumaa namootatti of argisiisuuf hojjetu: Kudhaama
isaanii ni bal'ifatuutii; handaara uffata isaaniis ni dheereffatu. [6] Iddoo cidhaatti
iddoo ulfinaa, manneen sagadaa keessatti immoo taa'umsa ulfinaa jaallatu. [7] Gabaa
keessattis akka namoonni nagaa isaan gaafatanii fi akka 'Yaa barsiisaa' jedhanii isaan
waaman jaallatu.
[8] "Isin garuu, 'Barsiisaa' jedhamtanii hin waamaminaa; Barsiisaa tokko qofa
qabduutii. Isin hundis obboloota walii keessanii ti. [9] Lafa irratti nama tokkoon
illee 'Abbaa' hin jedhinaa; isin Abbaa tokko qofa qabduutii; innis isa samii irraa
ti. [10] 'Gooftota' jedhamtanii hin waamaminaa; isin Gooftaa tokko qofa qabduutii;
innis Kiristoos. [11] Isin keessaa namni hunda keessan caalu tajaajilaa keessan haa
ta'u. [12] Namni ol of qabu kam iyyuu gad qabamaatii; namni gad of qabu kam iyyuu
garuu ol qabama.

*Wayyoowwan Torba*

[13] "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Isin
mootummaa samii namoota duraa cuftuutii. Ofii keessanii hin seentan; warra seenuu
yaalanis akka isaan seenan hin gootan. [ [14] Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota
fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Mana haadha hiyyeessaa saamtanii onsituutii;
itti fakkeessuuf kadhannaa ni dheeressitu; kanaafuu murtii caalutu isinitti murama.]*
[15] "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Nama
tokko amantii keessanitti galfachuuf jettanii lafaa fi galaana irra joortu; yommuu inni
amanuttis akka inni isin caalaa dachaa lama ilma gahaannam ta'u isa gootu.
[16] "Qajeelchitoota jaamota nana, isiniif wayyoo! Isin, 'Namni kam iyyuu yoo mana
qulqullummaatiin kakate, kun homaa miti; namni kam iyyuu yoo warqee mana
qulqullummaatiin kakate garuu kakuun sun isa qaba' jettu. [17] Isin gowwootaa fi
jaamota nana, warqee moo mana qulqullummaa kan warqee sana qulqulleessutu
caala? [18] Akkasumas isin, 'Namni kam iyyuu yoo iddoo aarsaatiin kakate, kun
homaa miti; yoo kennaa iddoo aarsaa irra jiru sanaan kakate garuu kakuun sun
isa qaba' jettu. [19] Isin jaamota nana, kennaa sana moo iddoo aarsaa isa kennaa sana
qulqulleessutu caala? [20] Kanaafuu namni iddoo aarsaatiin kakatu, iddoo aarsaatii fi
waan isa irra jiru hundumaan ni kakata. [21] Namni mana qulqullummaatiin kakatu,
mana qulqullummaatii fi isa mana qulqullummaa keessa jiraatuun kakata. [22] Namni
samiidhaan kakatu, teessoo Waaqaatii fi isa teessoo sana irra taa'uun kakata.
[23] "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Isin
abasuuda, insilaalaa fi kamuunii kudhan keessaa tokko ni kennitu. Garuu seera
keessaa waan caalaatti barbaachisaa ta'e jechuunis murtii qajeelaa, araaraa fi
amanamummaa dhiiftaniirtu. Silaa utuu isa duraa hin dhiisin isa duubaa hojii irra
oolchuu qabdu ture. [24] Isin qajeelchitoota jaamota nana! Bookee ni calaltu; gaala
immoo ni liqimsitu.

---

* **23:14** 23:14 Hiikkaawwan tokko tokko kutaa kana hin dabalan.

25 "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Duuba
xoofootii fi caabii ni qulqulleessitu; keessi isaanii garuu saamichaa fi ofittummaad-
haan guutameera. 26 Yaa Fariisicha jaamaa nana! Jalqabatti keessa xoofootii fi caabii
qulqulleessi; ergasii duubni isaas ni qulqullaa'aa.
27 "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Isin
akkuma awwaala nooraa dibame kan duubni isaa bareedaa fakkaatee keessi isaa
immoo lafee namoota du'aniitiin, xuraa'ummaa hundaanis guutamee ti. 28 Isinis
akkasuma duubaan qajeeltota fakkaattanii namootatti mul'attu; keessi keessan garuu
fakkeessuu fi hamminaan guutameera.
29 "Yaa barsiistota seeraatii fi Fariisota fakkeessitoota nana, isiniif wayyoo! Isin
raajotaaf awwaala ijaartuutii; soodduu qajeeltotaas ni bareechitu. 30 Isin, 'Nu utuu
bara abbootii keenyaa sana jiraannee silaa dhiiga raajotaa dhangalaasuu keessatti
isaan wajjin hin hirmaannu ture' jettu. 31 Kanaafuu isin akka sanyii warra raajota
ajjeesan sanaa taatan ofuma keessanitti dhugaa baatu. 32 Egaa safartuu cubbuu
abbootii keessanii guutaa!
33 "Bofoota nana! Ijoollee buutii nana! Isin akkamitti murtii gahaannam jalaa
ba'uu dandeessu? 34 Kanaafuu, kunoo ani raajotaa fi ogeeyyii, barsiistotas gara
keessanitti nan erga. Isinis isaan keessaa gartokko ni ajjeeftu; ni fanniftu; warra
kaan immoo manneen sagadaa keessan keessatti garaftu; magaalaa tokko irraa
gara magaalaa biraattis isaan ariitu. 35 Kanaaf dhiiga Abeel nama qajeelaa sanaatii
jalqabee hamma dhiiga Zakkaariyaas ilma Baraakiyuu isa isin mana qulqullummaatii
fi iddoo aarsaa gidduutti ajjeeftaniitti, dhiiga qulqulluu lafatti dhangalaafame
hundumatti ni gaafatamtu. 36 Ani dhuguma isinittin hima; kun hundinuu dhaloota
kanatti ni dhufa.
37 "Yaa Yerusaalem, yaa Yerusaalem, ati kan raajota ajjeeftu, warra gara keetti
ergamanis kan dhagaadhaan tumtu, akkuma indaanqoon cuucii ishee qoochoo ishee
jalatti walitti qabattu sana anis ijoollee kee walitti qabuuf yeroo meeqan hawwe!
Isin garuu hin barbaanne. 38 Kunoo, manni keessan onee isinii hafa. 39 Ani isinittin
himaatii; isin hamma, 'Inni maqaa Gooftaatiin dhufu sun eebbifamaa dha' jettanitti
lammata na hin argitan."

# 24

*Mallattoo Dhuma Baraa*
*24:1-51 kwf – Mar 13:1-37; Luq 21:5-36*

1 Utuu Yesuus mana qulqullummaatii ba'ee deemaa jiruu barattoonni isaa
gamoowwan mana qulqullummaa isatti argisiisuuf gara isaa dhufan. 2 Innis, "Waan
kana hunda argituu? Ani dhuguma isinittin hima; asitti dhagaan dhagaa irratti hafu
tokko hin jiru; hundi isaa iyyuu ni diigama" jedhee deebiseef.
3 Utuu Yesuus Tulluu Ejersaa irra taa'ee jiruu, barattoonni isaa kophaa isaanii gara
isaa dhufanii, "Mee nutti himi; wanni kun yoom ta'a? Mallattoon dhufa keetii fi
mallattoon dhuma barichaa maali?" jedhan.
4 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Akka namni tokko iyyuu isin hin gowwoom-
sineef of eeggadhaa. 5 Namoonni hedduun, 'Ani Kiristoos' jedhanii maqaa kootiin
ni dhufuutii; nama hedduus ni gowwoomsu. 6 Isin waa'ee waraanaatii fi oduu
waraanaa ni dhageessu; garuu akka hin rifanne of eeggadhaa. Wanni akkanaa ta'uu
qabaatii; dhumni garuu amma iyyuu hin geenye. 7 Sabni sabatti, mootummaanis
mootummaatti ni ka'a. Beellii fi sochiin lafaa iddoo garaa garaatti ni ta'a. 8 Garuu
kun hundinuu jalqaba ciniinsuu da'umsaa ti.
9 "Isaan dabarsanii dhiphinatti isin kennu; isin ajjeesus; sababii maqaa kootiifis
saba hundaan ni jibbamtu. 10 Yeroo sanatti namoonni baay'een ni gufatu;

dabarsanii wal kennu; wal jibbus; 11 raajonni sobaa hedduun ni dhufu; nama
hedduus ni gowwoomsu. 12 Sababii baay'ina hamminaatiif jaalalli namoota baay'ee
ni qabbanaa'a; 13 namni hamma dhumaatti jabaatee dhaabatu garuu ni fayya.
14 Wangeelli mootummaa kunis akka saba hundaaf dhuga ba'umsa ta'uuf addunyaa
hunda keessatti ni lallabama; ergasiis dhumni sun ni dhufa.

15 "Kanaafuu, 'Isin yommuu wanni jibbisiisaan badiisa fidu'*kan Daani'el raajichi
waa'ee isaa dubbate sun iddoo qulqulluu dhaabatee argitanitti, namni dubbisu
haa hubatu; 16 yommus warri Yihuudaa keessa jiran tulluuwwanitti haa baqatan.
17 Namni bantii manaa irra jiru tokko iyyuu waan tokko illee mana isaatii
fudhachuuf gad hin bu'in. 18 Namni lafa qotiisaa keessa jiru tokko iyyuu uffata isaa
fudhachuuf duubatti hin deebi'in. 19 Bara sana keessa dubartoota ulfaatii fi haadhota
hoosisaniif wayyoo! 20 Garuu akka baqachuun keessan ganna keessa yookaan Guyyaa
Sanbataatiin hin taaneef kadhadhaa. 21 Yeroo sanatti dhiphinni guddaan isaa ni
dhufaatii; dhiphinni akkasiis uumama addunyaatii jalqabee hamma ammaatti hin
dhufne; si'achis gonkumaa hin dhufu.

22 "Utuu guyyoonni sun gabaabbachuu baatanii silaa namni tokko iyyuu hin hafu
ture; garuu sababii filatamtootaatiif guyyoonni sun ni gabaabbatu. 23 Yeroo sana
yoo namni kam iyyuu, 'Ilaa, Kiristoos as jira!' yookaan 'Achi jira!' isiniin jedhe,
hin amaninaa. 24 Kiristoosonni sobaatii fi raajonni sobaa ni ka'uutii; isaanis yoo
danda'ameef filatamtoota illee gowwoomsuuf jedhanii mallattoo gurguddaa fi dinqii
ni hojjetu. 25 Kunoo ani duraan dursee isinitti himeera.

26 "Kanaafuu yoo isaan, 'Kuunnoo, inni gammoojjii keessa jira' isiniin jedhan achi
hin dhaqinaa; yookaan yoo isaan, 'Kunoo, mana keessa gola jira' isiniin jedhan
hin amaninaa. 27 Akkuma bakakkaan ba'a biiftuutii bu'ee hamma lixa biiftuutti
mul'atu sana dhufaatiin Ilma Namaas akkasuma ta'a. 28 Iddoo raqni jiru kamitti
iyyuu gogocorroowwan walitti qabamu.

29 "Akkuma dhiphinni bara sanaa darbeen,

" 'Aduun ni dukkanoofti;
ji'is ifa ishee hin kennitu;
urjiiwwan samii irraa ni harca'u;
humnoonni samiis ni raafamu.'†

30 "Ergasii mallattoon Ilma Namaa samii irratti ni mul'ata; saboonni addunyaa
hundinuus ni boo'u. Isaanis utuu Ilmi Namaa duumessa samiitiin humnaa fi ulfina
guddaadhaan dhufuu ni argu. 31 Innis ergamoota isaa sagalee malakataa guddaa
isaatiin erga; isaanis filatamtoota isaa kanneen handaara samiiwwanii tokko irraa
hamma isa kaaniitti jiran bubbeewwan afran irraa walitti qabu.

32 "Fakkeenya kana muka harbuu irraa baradhaa; yommuu dameen isaa latee
baala baafatutti akka bonni dhi'aate ni beektu. 33 Akkasuma isinis yommuu waan
kana hunda argitanitti akka inni dhi'aate, akka balbala irras ga'e ni beektu. 34 Ani
dhuguma isinittin hima; hamma wanni kun hundi ta'utti dhaloonni kun hin darbu.
35 Samii fi lafti ni darbu; dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu.

### *Guyyaa fi Sa'aatiin Hin Beekamu*
*24:37-39 kwf – Luq 17:26,27*
*24:45-51 kwf – Luq 12:42-46*

36 "Waa'ee guyyaa sanaa yookaan waa'ee sa'aatii sanaa garuu Abbaa qofatu beeka
malee namni tokko iyyuu hin beeku; ergamoonni samii irraa iyyuu hin beekan;
yookaan Ilmi iyyuu hin beeku. 37 Akkuma bara Nohi ta'e sana yeroo dhufaatii Ilma
Namaattis akkasuma ni ta'a. 38 Bara bishaan badiisaatiin dura ture sana, hamma
gaafa Nohi doonii seeneetti namoonni nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaas

* **24:15** 24:15 Dan 9:27; 11:31; 12:11 † **24:29** 24:29 Isa 13:10; 34:4

turaniitii. 39 Isaanis hamma bishaan badiisaa dhufee hunda isaanii fudhatetti waan
dhufuuf jiru hin beekne. Yeroo Ilmi Namaa dhufuttis akkasuma ta'a. 40 Gaafas
namoonni lama lafa qotiisaa keessa hojjetu; inni tokko ni fudhatama; kaan immoo
ni hafa. 41 Dubartoonni lama dhagaa daakuutiin daaku; tokko ni fudhatamti; kaan
immoo ni hafti.
42 "Kanaafuu isin dammaqaa; Gooftaan keessan guyyaa kam akka dhufu hin
beektaniitii. 43 Garuu waan kana hubadhaa: Abbichi manaa utuu yeroo kamitti akka
hattuun dhuftu beekee silaa dammaqee eeggata malee akka manni isaa cabsamee
seenamu itti hin dhiisu ture. 44 Kanaafuu isinis akkasuma qophaa'uu qabdu; Ilmi
Namaa sa'aatii isin hin eegnetti dhufaatii.
45 "Egaa garbichi amanamaa fi ogeessi kan gooftaan isaa akka inni nyaata isaanii
yeroo malutti isaanii kennuuf jedhee garboota mana isaa jiraatan irratti isa muudu
eenyu? 46 Garbichi gooftaan isaa yommuu deebi'utti utuu inni akkasuma hojjetuu
isa argu sun eebbifamaa dha. 47 Ani dhuguma isinitti nan hima; inni qabeenya isaa
hunda irratti isa muuda. 48 Garbichi sun garuu yoo hamaa ta'e, 'Gooftaan koo yeroo
dheeraa tura' ofiin jedhee 49 garboota isa wajjin tajaajilan tumuu, machooftota wajjin
immoo nyaachuu fi dhuguu jalqaba. 50 Gooftaan garbicha sanaa guyyaa inni isa hin
eegnee fi sa'aatii inni hin beeknetti ni dhufa. 51 Innis isa kukkuta; fakkeessitoota
keessattis isa ramada; achittis boo'ichaa fi ilkaan qaruutu ta'a.

# 25

### *Fakkeenya Dubarran Kurnanii*

1 "Yeroo sanatti mootummaan samii dubarran kudhan kanneen ibsaa isaanii
fudhatanii misirricha simachuudhaaf gad ba'an fakkaata. 2 Isaan keessaas shan
gowwoota, shan immoo ogeeyyii turan. 3 Warri gowwoonni ibsaa isaanii fudhatan
malee zayitii hin fudhanne. 4 Warri ogeeyyiin garuu ibsaa isaanii wajjin zayitii
qodaatti qabatanii turan. 5 Misirrichi sun turraan hundumti isaanii mugan; ni rafanis.
6 "Halkan walakkaattis sagaleen guddaan, 'Kunoo, misirrichi dhufeera! Ba'aatii isa
simadhaa!' jedhu tokko dhaga'ame.
7 "Dubarri sun hundinuus ka'anii ibsaa isaanii qopheeffatan. 8 Warri gowwoonni
sun warra ogeeyyiidhaan, 'Ibsaan keenya nu duraa dhaamuutti jiraatii zayitii keessan
irraa xinnoo nuu kennaa' jedhan.
9 "Warri ogeeyyiinis deebisanii, 'Hin kenninu; tarii wanni nuu fi isin ga'u hin
jiru ta'aatii. Qooda kanaa warra gurguran bira dhaqaatii ofii keessaniif bitadhaa'
jedhaniin.
10 "Garuu utuma isaan zayitii bitachuu dhaquutti jiranuu misirrichi dhufe. Dubarri
qophaa'anis isa wajjin galma cidha fuudhaatti ol galan. Balballis ni cufame.
11 "Ergasii dubarran kaanis dhufanii, 'Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa, balbala nuuf bani!'
jedhaniin.
12 "Inni garuu deebisee, 'Dhuguman isinitti hima; ani isin hin beeku' jedheen.
13 "Kanaafuu isin sababii guyyaa sana yookaan sa'aatii sana hin beekneef
dammaqaa.

### *Fakkeenya Taalaantii*
*25:14-30 kwi – Luq 19:12-27*

14 "Ammas mootummaan samii nama biyya fagoo dhaqu tokko fakkaata; namichis
garboota isaa waamee qabeenya isaa imaanaa itti kennate. 15 Tokkoo tokkoo
isaaniittis akkuma dandeettii isaaniitti, isa tokkotti taalaantii shan, isa kaanitti
taalaantii lama, isa kaanitti immoo taalaantii tokko kennee ka'ee deeme. 16 Namichi
taalaantii shan fudhate sun, yeroodhuma sana dhaqee ittiin daldalee taalaantii biraa
shan irraa buufate. 17 Inni taalaantii lama fudhates akkasuma taalaantii biraa lama

irraa buufate. 18 Namichi taalaantii tokko fudhate garuu dhaqee lafa qotee maallaqa
gooftaa isaa dhokse.
19 "Yeroo dheeraa booddee gooftaan garboota sanaa deebi'ee herrega isaan bira jiru
herregate. 20 Namichi taalaantii shan fudhatee ture sun taalaantii biraa shan fidee,
'Yaa gooftaa, ati taalaantii shan imaanaa natti kennitee turte. Ani immoo kunoo,
taalaantii shan irraa buufadheera' jedheen.
21 "Gooftaan isaas deebisee, 'Yaa garbicha gaarii fi amanamaa, waan gaarii hojjette!
Ati waan akka malee xinnoo irratti amanamaa taateerta; ani immoo waan baay'ee
irratti sin muuda. Kottuutii gammachuu gooftaa keetiitti gali!' jedheen.
22 "Namichi taalaantii lama fudhatee tures dhufee, 'Yaa gooftaa, ati taalaantii
lama imaanaa natti kennitee turte; ani immoo kunoo, taalaantii biraa lama irraa
buufadheera' jedheen.
23 "Gooftaan isaas deebisee, 'Yaa garbicha gaarii fi amanamaa, waan gaarii hojjette!
Ati waan xinnoo irratti amanamaa taateerta; ani immoo waan baay'ee irratti sin
muuda. Kottuutii gammachuu gooftaa keetiitti gali!' jedheen.
24 "Namichi taalaantii tokkicha fudhatee tures dhufee akkana jedhe; 'Yaa gooftaa,
ati nama gara jabeessa iddoo itti hin facaasinii galfattu, iddoo itti hin bittinneessiniis
walitti qabattu akka taate nan beeka. 25 Kanaafuu ani sodaadhee dhaqeen taalaantii
kee lafa keessa dhokse. Taalaantiin kee kunoo ti.'
26 "Gooftaan isaas deebisee akkana jedhe; 'Yaa garbicha hamaa dhibaa'aa! Ati akka
ani iddoon itti hin facaasinii galfadhu, iddoon itti hin bittinneessiniis walitti qabadhu
beektaa? 27 Yoos akka ani yommuun deebi'utti dhala isaa wajjin fudhadhuuf silaa
maallaqa koo warra baankii bira naa kaa'uu qabda ture.
28 " 'Kanaaf taalaanticha isa harkaa fuudhaatii namicha taalaantii kudhan qabuuf
kennaa. 29 Kan qabu kamiif iyyuu itti dabalamee ni kennama; irraa hafaas
ni qabaataatii. Kan hin qabne garuu wanni inni qabu iyyuu irraa fudhatama.
30 Garbicha faayidaa hin qabne kana dukkana alaatti gad darbadhaa; achittis
boo'ichaa fi ilkaan qaruutu ta'a.'

### *Hoolotaa fi Re'oota*

31 "Ilmi Namaa yommuu ulfina isaatiin ergamoota Waaqaa hunda wajjin dhufutti,
teessoo isaa kan ulfinaa irra ni taa'a. 32 Saboonni hundinuu fuula isaa duratti walitti
qabamu; innis akkuma tikseen tokko hoolotaa fi re'oota gargar footu sana namoota
gargar ni fo'a. 33 Inni hoolota karaa mirga isaa, re'oota immoo karaa bitaa isaa ni
dhaabachiisa.
34 "Yeroo sana Mootichi warra mirga isaa jiraniin akkana jedha; 'Isin warri
Abbaan koo eebbise kottaa mootumicha uumamuu addunyaatii jalqabee isinii
qopheeffame sana dhaalaa. 35 Sababiin isaas ani beelofnaan isin nyaata naaf
kennitan; dheebonnaan waan ani dhugu naaf kennitan; ani keessummaan ture; isin
immoo na simattan; 36 ani daarraan daara na baaftan; dhukkubsannaan na gaafattan;
hidhamnaan dhuftanii na ilaaltan.'
37 "Qajeeltonni sunis deebisanii akkana jedhaniin; 'Yaa Gooftaa, yoom beeloftee si
arginee waan ati nyaattu siif kennine? Yookaan yoom dheebottee si arginee waan ati
dhugdu siif kennine? 38 Yoom keessummaa ta'uu kee arginee si simanne? Yookaan
yoom daartee si arginee daara si baafne? 39 Yoom dhukkubsattee yookaan hidhamtee
si arginee dhufnee si ilaalle?'
40 "Mootiin sunis deebisee, 'Ani dhuguman isinitti hima; waan obboloota koo warra
nama hundumaa gad ta'an kanneen keessaa isa tokkoof gootan kam iyyuu naaf
gootan' jedhaan.
41 "Ergasiis warra bitaa isaa jiraniin akkana jedha; 'Isin yaa abaaramoo, na duraa
badaatii ibidda bara baraa isa diiyaabiloosii fi ergamoota isaatiif qopheeffametti

galaa. 42 Ani beelofnaan isin waan ani nyaadhu naaf hin kennineetii; ani
dheebonnaan waan ani dhugu naaf hin kennineetii; 43 ani keessummaan ture; isin
na hin simanne; ani daarraan isin daara na hin baafne; dhukkubsannaan yookaan
hidhamnaan dhuftanii na hin ilaalle.'
44 "Isaanis, 'Yaa Gooftaa, ati yoom beeloftee yookaan dheebottee yookaan keessum-
maa taatee yookaan daartee yookaan dhukkubsattee yookaan hidhamtee si arginee
si gargaaruu didne?' jedhanii deebisu.
45 "Innis deebisee, 'Ani dhuguman isinitti hima; waan obboloota koo warra nama
hundaa gad ta'an kanneen keessaa isa tokkoof hin godhin naafis hin goone' jedha.
46 "Isaan kunneen adabbii bara baraatti, qajeeltonni immoo jireenya bara baraatti
galu."

# 26

*Marii Yesuusitti Mari'atame*
*26:2-5 kwf – Mar 14:1,2; Luq 22:1,2*

1 Yesuus erga waan kana hunda dubbatee raawwatee booddee barattoota isaatiin
akkana jedhe; 2 "Akkuma isin beektan Faasiikaaf guyyaa lamatu hafa; Ilmi Namaas
fannifamuuf dabarfamee ni kennama."
3 Ergasii luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni uummataa dallaa luba ol aanaa
isa Qayyaaffaa jedhamuu keessatti walitti qabaman. 4 Isaanis haxxummaadhaan
Yesuusin qabuu fi ajjeesuuf mari'atan. 5 Isaanis, "Garuu akka namoota gidduutti
gooliin hin kaaneef yeroo ayyaanaatti hin ta'in" jedhan.

*Yesuus Biitaaniyaatti Shittoo Dibamuu Isaa*
*26:6-13 kwf – Mar 14:3-9*
*26:6-13 kwi – Luq 7:37,38; Yoh 12:1-8*

6 Utuu Yesuus Biitaaniyaa keessa mana Simoon isa lamxaa'aa sanaa jiruu,
7 dubartiin tokko shittoo gatiin isaa akka malee guddaa ta'e bilqaaxxii albaasxiroositti
qabattee gara isaa dhufte; akkuma inni maaddiitti dhi'aateenis shittoo sana mataa
isaatti dhangalaafte.
8 Barattoonnis yommuu waan kana arganitti aaranii akkana jedhan; "Waan kana
balleessuun maaliif? 9 Silaa shittoon kun gatii guddaatti gurguramee maallaqa isaa
hiyyeeyyiif kennuun ni danda'ama tureetii."
10 Yesuusis kana hubatee akkana isaaniin jedhe; "Isin maaliif dubartii kana
rakkiftu? Isheen waan gaarii naaf gooteerti. 11 Hiyyeeyyii yeroo hunda of biraa
qabdu; ana garuu yeroo hunda of biraa hin qabdan. 12 Dubartiin kun yommuu shittoo
kana dhagna koo irrati dhangalaaftetti awwaalaaf na qopheessuudhaaf waan kana
goote. 13 Ani dhuguma isinittin hima; addunyaa hunda irratti, iddoo wangeelli kun
itti lallabamu kamitti iyyuu wanni isheen gootes yaadannoo isheetiif ni odeeffama."

*Yihuudaan Yesuusin Dabarsee Kennuuf Walii Galuu Isaa*
*26:14-16 kwf – Mar 14:10,11; Luq 22:3-6*

14 Ergasiis warra Kudha Lamaan keessaa namichi Yihuudaa Keeriyotii jedhamu
tokko gara luboota hangafootaa dhaqee, 15 "Yoo ani isa dabarsee isinitti kenne
isin maal naaf kennitu?" jedhee gaafate. Isaanis meetii soddomaan walii galan.
16 Yihuudaanis yeroo sanaa jalqabee Yesuusin dabarsee kennuuf haala mijaa'aa
eeggachaa ture.

*Irbaata Gooftaa*
*26:17-19 kwf – Mar 14:12-16; Luq 22:7-13*
*26:20-24 kwf – Mar 14:17-21*
*26:26-29 kwf – Mar 14:22-25; Luq 22:17-20; 1Qr 11:23-25*

17 Guyyaa jalqaba Ayyaana Maxinootti barattoonni gara Yesuus dhufanii, “Akka ati Faasiikaa nyaattuuf eessatti akka siif qopheessinu barbaadda?” jedhanii gaafatan.
18 Innis deebisee akkana jedhe; “Magaalaa seenaatii nama wayiitiin, ‘Barsiisaan, yeroon koo ga’eera; ani barattoota koo wajjin Ayyaana Faasiikaa mana keetti nan kabaja siin jedha’ jedhaa.” 19 Barattoonnis akkuma Yesuus isaan ajaje sana godhan; Faasiikaas ni qopheessan.
20 Yesuusis yommuu galgalaa’etti warra Kudha Lamaan wajjin maaddiitti dhi’aate.
21 Innis utuma nyaachaa jiranuu, “Ani dhuguma isinitti nan hima; isin keessaa tokko dabarsee na kenna” jedhe.
22 Isaanis akka malee gaddanii tokko tokkoon, “Yaa Gooftaa, na ta’innaa laata?” jedhanii gaafachuu jalqaban.
23 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Namichi na wajjin gabatee keessa harka kaa’ee cuuphate dabarsee na kenna. 24 Ilmi Namaa akkuma waa’een isaa barreeffame sanatti ni deema. Garuu namicha dabarsee Ilma Namaa kennu sanaaf wayyoo! Inni utuu dhalachuu baatee isaaf wayya ture.”
25 Yihuudaan inni dabarsee isa kennuuf jiru sunis, “Yaa Barsiisaa, na ta’innaa laata?” jedhe.
Yesuusis, “Atuu jette kaa!” jedhee deebise.
26 Utuu nyaachaa jiranuus Yesuus buddeena fuudhee eebbise; caccabsees, “Fudhadhaa nyaadhaa; kun foon koo ti” jedhee barattoota isaatiif kenne.
27 Xoofoos fuudhee galata galchee isaaniif kenne; akkanas jedhe; “Hundi keessan kana irraa dhugaa. 28 Kun dhiiga koo, dhiiga kakuu haaraa kan dhiifama cubbuu namoota baay’eetiif dhangalaafamuu dha. 29 Ani isinitti nan hima; ani hamman guyyaa isin wajjin mootummaa Abbaa koo keessatti deebi’ee dhugutti ammaa jalqabee ija wayinii kana irraa hin dhugu.”
30 Isaanis erga faarfannaa faarfatanii booddee Tulluu Ejersaatti qajeelan.

### *Yesuus Akka Phexros Isa Ganu Duraan Dursee Dubbate*
### *26:31-35 kwf – Mar 14:27-31; Luq 22:31-34*

31 Ergasii Yesuus akkana isaaniin jedhe; “Hundi keessan edana sababii kootiif ni gufattu; akkana jedhamee barreeffameeraatii:
“ ‘Ani tiksee nan rukuta;
hoolonni karra sanaas ni bittinneeffamu.’*
32 Ani garuu ergan du’aa ka’ee booddee isin dura Galiilaa nan dhaqa.”
33 Phexros immoo deebisee, “Yoo namni hundinuu sababii keetiif gufate iyyuu ani gonkumaa hin gufadhu” jedheen.
34 Yesuus immoo deebisee, “Ani dhuguma sitti nan hima; ati edana utuu indaanqoon hin iyyin yeroo sadii na ganta” jedheen.
35 Phexros garuu, “Ani yoon si wajjin du’uu qabaadhe illee gonkumaa si hin ganu” jedheen. Barattoonni hundinuus akkasuma jedhan.

### *Geetesemaanee*
### *26:36-46 kwf – Mar 14:32-42; Luq 22:40-46*

36 Ergasiis Yesuus barattoota isaa wajjin iddoo Geetesemaanee jedhamu tokko dhaqe; innis, “Hamma ani achi dhaqee kadhadhutti isin as taa’aa” jedheen.
37 Innis Phexrosii fi ilmaan Zabdewoos lamaan of faana fudhatee deeme; gadduu fi yaadda’uus jalqabe. 38 Ergasiis inni, “Lubbuun koo akka malee gadditee du’uu geesseerti. Isin asuma turaatii na wajjin dammaqaa” jedheen.

* **26:31** 26:31 Zak 13:7

39 Innis xinnoo achi hiiqee adda isaatiin lafatti gombifamee, “Yaa Abbaa ko, yoo
danda’ame xoofoon kun narra haa darbu. Garuu akka fedhii keetii malee akka fedhii
kootii hin ta’in” jedhee kadhate.
40 Innis gara barattoota isaatti deebi’ee utuu rafanuu isaan arge. Phexrosiinis
akkana jedhe; “Jarana, isin sa’aatii tokkitti illee dammaqxanii na wajjin turuu hin
dandeenyee? 41 Isin akka qorumsatti hin galleef dammaqaa kadhadhaa. Hafuurri
qophaa’aa dha; foon garuu dadhabaa dha.”
42 Ammas yeroo lammaffaa achi hiiqee, “Yaa Abbaa ko, xoofoon kun utuu ani
hin dhugin yoo narra darbuu hin dandeenye akkuma fedhii keetii haa ta’u” jedhee
kadhate.
43 Inni yommuu deebi’ee dhufetti, ammas utuu rafanuu isaan arge; iji isaanii itti
ulfaatee tureetii. 44 Ammas isaan dhiisee achi hiiqee waanuma kanaan dura kadhate
sana irra deebi’ee yeroo sadaffaa kadhate.
45 Innis gara barattootaatti deebi’ee akkana jedheen; “Isin amma iyyuu raftanii
boqochaa jirtuu? Kunoo, sa’aatiin sun ga’eera; Ilmi Namaas dabarfamee harka
cubbamootaatti ni kennama. 46 Ka’aa ni deemnaa! Kunoo, namichi dabarsee na
kennu sun dhufaa jira.”

### *Yesuus Qabamuu Isaa*
*26:47-56 kwf – Mar 14:43-50; Luq 22:47-53*

47 Utuma inni amma iyyuu dubbachaa jiruu, Yihuudaan namichi warra Kudha
Lamaan keessaa tokko ta’e sun dhufe. Tuunni luboota hangafootaa fi maanguddoota
uummataa biraa ergame guddaanis goraadee fi bokkuu qabatee isa wajjin dhufe.
48 Inni dabarsee Yesuusin kennu sunis, “Namichi ani dhungadhu isa; isinis isa qabaa”
jedhee mallattoo kenneefii ture. 49 Yihuudaanis yommusuma Yesuusitti dhi’aatee,
“Nagumaa yaa barsiisaa!” jedhee isa dhungate.
50 Yesuusis deebisee, “Yaa michuu ko, waan dhufteef sana raawwadhu kaa!” jedhe.
Namoonni sun itti dhi’aatanii Yesuusin qabanii hidhan. 51 Kunoo, warra Yesuus
wajjin turan keessaa inni tokko goraadee isaa luqqifatee garbicha luba ol aanaa
dha’ee gurra isaa irraa kute.
52 Yesuus immoo akkana jedheen; “Goraadee kee iddoo isaatti deebisi; warri
goraadee luqqifatan hundinuu goraadeedhaan balleeffamuutii. 53 Ati waan ani
Abbaa kootti iyyachuu hin dandeenye, waan innis yeruma sana ergamoota Waaqaa
Leegewoonii†Kudha Lamaa olii naa hin ergine seetaa? 54 Utuu akkas ta’ee immoo
wanni Katabbiiwwan Qulqulluun karaa kanaan ta’uu qaba jedhan sun silaa akkamitti
raawwatama ree?”
55 Sa’aatii sanatti Yesuus tuuta sanaan akkana jedhe; “Isin goraadee fi bokkuu
qabattanii akka nama hattuu qabuutti na qabuu dhuftanii? Ani guyyuma guyyaan
mana qulqullummaa keessa taa’ee barsiisaan ture; isinis na hin qabne. 56 Kun
hundinuu garuu akka Katabbiiwwan raajotaa Qulqulluun raawwatamaniif ta’e.”
Barattoonni hundinuus isa dhiisanii baqatan.

### *Yesuus Yaa’ii Yihuudootaa Duratti*
*26:57-68 kwf – Mar 14:53-65; Yoh 18:12,13,19-24*

57 Warri Yesuusin qaban sunis gara mana luba ol aanaa isa Qayyaaffaa jedhamuu
iddoo barsiistonni seeraatii fi maanguddoonni itti walitti qabamaniitti isa geessan.
58 Phexros garuu hamma dallaa mana lubicha ol aanaatti fagootti isa duukaa bu’e.
Innis waan ta’uuf jiru arguuf jedhee ol lixee waardiyyoota wajjin taa’e.

† **26:53** 26:53 Leegewooniin Roomaa tokkichi loltoota 6,000 qabata.

59 Luboonni hangafoonnii fi yaa'iin Yihuudootaa guutuun Yesuusin ajjeesuuf
jedhanii ragaa sobaa isatti barbaadaa turan. 60 Isaan garuu yoo dhuga baatonni sobaa
hedduun dhi'aatan illee homaa hin arganne.
Dhuma irratti dhuga baatonni lama dhufanii, 61 "Namichi kun, 'Ani mana
qulqullummaa Waaqaa diiguu, guyyaa sadii keessatti deebisee ijaaruu nan danda'a'
jedheera" jedhan.
62 Lubichi ol aanaanis ka'ee dhaabatee, "Ati deebii tokko illee hin kennituu? Wanni
namoonni kunneen dhugaa sitti ba'an kun maali?" jedhee Yesuusin gaafate. 63 Yesuus
garuu inuma cal'ise.
Lubichi ol aanaan, "Ani Waaqa jiraataadhaan sin kakachiisa: Ati yoo Kiristoos Ilma
Waaqaa taate mee nutti himi" jedheen.
64 Yesuusis deebisee, "Atuu jetteerta. Ani garuu isinitti nan hima; isin si'achi utuu
Ilmi Namaa mirga isa Humna qabeessa sanaatiin taa'ee, duumessa samiitiin dhufuu
ni argitu" jedhe.
65 Kana irratti lubichi ol aanaan uffata isaa tarsaasee akkana jedhe; "Inni Waaqa
arrabseera! Kana caalaa dhuga baatota maalii nu barbaachisa? Kunoo, Waaqa
arrabsuu isaa isin iyyuu amma dhageessaniirtu. 66 Maal isinitti fakkaata?"
Isaanis, "Du'atu isaaf mala" jedhanii deebisan.
67 Ergasii isaan fuula isaatti tufan; abootteenis isa rukutan. Warri kaan immoo isa
kabalanii, 68 "Yaa Kiristoos! Eenyutu si rukute? Mee raajii nutti dubbadhu" jedhaniin.

### *Phexros Yesuusin Ganuu Isaa*
*26:69-75 kwf – Mar 14:66-72; Luq 22:55-62; Yoh 18:16-18,25-27*

69 Phexrosis dallaa keessa ala taa'aa ture; xomboreen tokko isatti dhi'aattee, "Atis
Yesuus namicha Galiilaa sana wajjin turte!" jetteen.
70 Inni garuu, "Ani waan ati dubbachuutti jirtu hin beeku" jedhee hunduma isaanii
duratti gane.
71 Utuu inni gara karra dallaa sanaatti deemaa jiruus xomboreen biraa tokko isa
argitee, "Namichi kun Yesuus nama Naazreeti wajjin ture" jettee warra achi turanitti
himte.
72 Innis kakatee, "Ani namicha kana hin beeku!" jedhee ammas gane.
73 Yeroo xinnoo booddee warri achi dhadhaabachaa turan Phexrositti dhi'aatanii,
"Atis dhuguma iyyuu jara keessaa tokkoo dha; loqodni kee si saaxilaatii" jedhan.
74 Yommus inni, "Ani namicha kana hin beeku" jedhee of abaaruu fi kakachuu
jalqabe.
Yommusuma indaanqoon iyye. 75 Phexrosis dubbii Yesuus, "Ati utuu indaanqoon
hin iyyin yeroo sadii na ganta" jedhee ture sana yaadate. Gad ba'ees hiqqifatee boo'e.

## 27

### *Yihuudaan Of Fannisuu Isaa*

1 Ganama barii luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni sabaa hundinuu Yesuusin
ajjeesuuf walii wajjin mari'atan. 2 Isaanis isa hidhanii geessanii Phiilaaxoos
bulchaatti dabarsanii kennan.
3 Yihuudaan inni Yesuusin dabarsee kenne sun yommuu akka Yesuusitti murame
argetti ni gaabbe; meetii soddoma sanas luboota hangafootattii fi maanguddootatti
deebise. 4 Innis, "Ani dhiiga qulqulluu dabarsee kennuudhaan cubbuu hojjedheera"
jedhe.
Isaanis deebisanii, "Maaltu nu dhibe ree? Situ itti gaafatama!" jedhaniin.
5 Yihuudaanis meetii sana mana qulqullummaa keessatti gatee gad ba'e; dhaqees
of fannise.

6 Luboonni hangafoonnis meetii sana fuudhanii, “Meetiin kun waan gatii dhiigaa
ta’eef meetii mana qulqullummaatti dabaluun seera miti” jedhan. 7 Isaanis walii
wajjin mari’atanii akka namoota biyya ormaatiif iddoo awwaalaa ta’uuf meetii
sanaan lafa namicha suphee dha’u tokkoo bitan. 8 Kanaaf lafti sun hamma har’aatti,
“Lafa Dhiigaa” jedhamee waamama. 9 Kanaanis wanni Ermiyaas raajichi dubbate
sun ni raawwatame: Innis akkana jedha; “Isaan meetii soddomman, gatii isaa kan
ijoolleen Israa’el isatti shallagan sana fuudhanii, 10 akkuma Gooftaan na ajajetti lafa
namicha suphee dha’u sanaa ittiin bitan.”*

### *Yesuus Fuula Phiilaaxoos Duratti*
*27:11-26 kwf – Mar 15:2-15; Luq 23:2,3,18-25; Yoh 18:29–19:16*

11 Yeroo sanatti Yesuus fuula bulchaa dura dhaabate; bulchaan sunis, “Ati mootii
Yihuudootaatii?” jedhee isa gaafate.
Yesuus immoo, “Atuu jette kaa!” jedhee deebise.
12 Inni yeroo luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni isa himatanittis deebii tokko
illee hin kennine. 13 Phiilaaxoosis, “Ati akka isaan waan meeqa sirratti dhugaa ba’an
hin dhageessuu?” jedhee isa gaafate. 14 Yesuus garuu himata tokkoof illee deebii
tokko iyyuu hin kennine; bulchaan sunis akka malee waan kana dinqisiifate.
15 Bulchaan sun nama hidhame tokko ayyaanaan akkuma fedhii sabaatti gad
dhiisuu bartee godhatee ture. 16 Yeroo sana namichi Barabbaas jedhamu beekamaan
tokko hidhamee ture. 17 Kanaafuu yommuu isaan walitti qabamanitti Phiilaaxoos,
“Akka ani isa kam gad isinii dhiisu barbaaddu? Barabbaas moo Yesuus isa Kiristoos
jedhamu sana?” jedhee isaan gaafate. 18 Akka isaan hinaaffaadhaan Yesuusin
dabarsanii isatti kennan ni beeka tureetii.
19 Utuu Phiilaaxoos barcuma murtii irra taa’uu niitiin isaa, “Namicha qajeelaa sana
hin tuqin; ani eda sababii isaatiif abjuudhaan akka malee dhiphadheeraatii” jettee
itti dhaamte.
20 Luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni garuu akka Barabbaas gad dhiifamee,
Yesuus immoo ajjeefamu akka isa kadhataniif namoota sossoban.
21 Bulchaan sun, “Isaan lamaan kanneen keessaa akka ani isa kam gad isinii dhiisu
barbaaddu?” jedhee ammas gaafate.
Isaanis, “Barabbaasin” jedhanii deebisan.
22 Phiilaaxoosis, “Yesuus isa Kiristoos jedhamu immoo ani maal godhu ree?” jedhee
gaafate.
Hundi isaaniis, “Isa fannisi!” jedhanii deebisan.
23 Phiilaaxoos immoo, “Maaliif? Inni yakka maalii hojjete?” jedhee gaafate.
Isaan garuu ittuma caalchisanii, “Isa fannisi!” jedhanii iyyan.
24 Phiilaaxoos yommuu akka wanni kun goolii kaasuu malee faayidaa tokko illee
hin qabne argetti, “Ani dhiiga nama kanaa irraa qulqulluu dha; isintu itti gaafatama!”
jedhee bishaan fudhatee fuula namootaa duratti harka isaa dhiqate.
25 Namoonni hundinuus, “Dhiigni isaa nuu fi ijoollee keenya irra haa ga’u!”
jedhanii deebisan.
26 Ergasii inni Barabbaasin gad isaaniif dhiise. Yesuusin garuu garafsiisee akka inni
fannifamuuf dabarsee kenne.

### *Loltoonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii*
*27:27-31 kwf – Mar 15:16-20*

27 Ergasii loltoonni bulchaa sanaa Yesuusin mana bulchaatti ol galchan; raayyaa
loltootaa hundas naannoo Yesuusitti walitti qaban. 28 Isaanis uffata isaa irraa
baasanii uffata bildiimaa itti uffisan; 29 gonfoo qoraattii micciiranii dha’anii mataa

* **27:10** 27:10 Zak 11:12,13; Erm 19:1-13; 32:6-9

isaa irra kaa'an. Harka isaa mirgaa keessas ulee kaa'an. Fuula isaa durattis
jilbeenfatanii, "Akkam ree, yaa mootii Yihuudootaa!" jedhanii isatti qoosan.
30 Isaanis isatti tufan; ulee sanas fuudhanii mataa isaa rukutan. 31 Erga itti qoosanii
booddee uffata sana irraa baasanii wayyaa isaa deebisanii isatti uffisan. Fannisuufis
isa fuudhanii deeman.

*Yesuus Fannifamuu Isaa*
*27:33-44 kwf – Mar 15:22-32; Luq 23:33-43; Yoh 19:17-24*

32 Utuu gad ba'anuus namicha Qareenaa kan Simoon jedhamu tokko arganii akka
inni fannoo sana baatuuf isa dirqisiisan. 33 Isaanis iddoo Golgootaa jedhamu ga'an;
Golgootaa jechuun "Iddoo buqqee mataa" jechuu dha. 34 Achittis akka inni dhuguuf
daadhii wayinii kan hadhooftuun itti makame kennaniif; inni garuu afaaniin qabee
dhuguu dide. 35 Isaanis erga isa fannisanii booddee ixaa buufatanii uffata isaa gargar
qooddatan. 36 Isaanis achi taa'anii isa eegaa turan. 37 Katabbiin waan inni ittiin
himatamees mataa isaatii ol kaa'amee ture; katabbiin sunis,

Kun Yesuus Mooticha Yihuudootaa ti,

jedha.

38 Hattoonni lamas, inni tokko mirga isaatiin, kaan immoo bitaa isaatiin isa wajjin
fannifaman. 39 Warri achiin darbanis isa arrabsan; mataa isaaniis raasanii, 40 "Ati
kan mana qulqullummaa diigdee guyyaa sadiitti ijaartu, mee of oolchi! Ati yoo Ilma
Waaqaa taate fannoo irraa gad bu'i!" jedhan. 41 Akkasumas luboonni hangafoonni,
barsiistonni seeraatii fi maanguddoonni isatti qoosan. Akkanas jedhan; 42 "Inni
warra kaan oolcheera; ofii isaa garuu oolchuu hin danda'u! Inni yoo mootii Israa'el
ta'e amma fannoo irraa gad haa bu'u; nuus isatti ni amannaatii. 43 Inni Waaqa
amanata; Waaqni yoo isa jaallate, mee amma isa haa oolchu; inni, 'Ani Ilma Waaqaa
ti' jedheeraatii." 44 Akkasuma hattoonni isa wajjin fannifamanis isa arrabsan.

*Yesuus Du'uu Isaa*
*27:45-56 kwf – Mar 15:33-41; Luq 23:44-49*

45 Sa'aatii ja'aa jalqabee hamma sa'aatii sagaliitti dukkanni lafa hunda irra bu'e.
46 Gara Sa'aatii sagaliitti Yesuus sagalee guddaadhaan, *"Eloohee, Eloohee,*† *laamaa
sabaqtaanii?"* jedhee iyye; hiikkaan isaas, "Yaa Waaqa ko, yaa Waaqa ko, ati maaliif
na dhiifte?"‡ jechuu dha.

47 Warra achi dhadhaabatan keessaa tokko tokko yommuu waan kana dhaga'anitti,
"Namichi kun Eeliyaasin waama" jedhan.

48 Yommusuma isaan keessaa namichi tokko fiigee dhaqee ispoonjii daadhii wayinii
dhangaggaa'aadhaan guutee, uleetti kaa'e; akka inni dhuguufis Yesuusiif kenne.
49 Warri kaan garuu, "Mee isa dhiisaa. Akka Eeliyaas dhufee isa oolchu arginaatii"
jedhan.

50 Yesuus ammas sagalee guddaadhaan iyyee hafuura isaa kenne.

51 Yeruma sana golgaan mana qulqullummaa olii hamma gadiitti iddoo lamatti
tarsa'e. Lafti ni sochoote; kattaawwanis ni babbaqaqan. 52 Awwaalonnis bana-
manii dhagnawwan qulqullootaa kanneen du'anii turan hedduun du'aa kaafaman.
53 Isaanis du'aa ka'uu Yesuus booddee awwaala keessaa ba'anii magaalattii qulqulluu
seenan. Namoota hedduuttis mul'atan.

54 Ajajaan dhibbaa sunii fi warri isa wajjin Yesuusin eegaa turan yommuu sochii
lafaatii fi waan achitti ta'e hunda arganitti akka malee sodaatanii, "Dhugumaanuu
inni Ilma Waaqaa ture!" jedhan.

55 Dubartoonni Yesuusin tajaajiluuf jedhanii Galiilaadhaa isa duukaa bu'an
baay'eenis fagoo dhaabatanii ilaalaa turan. 56 Isaan keessaas Maariyaam ishee

† **27:46** 27:46 Waraabbileen tokko tokko Eelii, Eelii jedhu. ‡ **27:46** 27:46 Far 22:1

Magdalaa, Maariyaam haadha Yaaqoobii fi Yoosef, akkasumas haadha ilmaan Zabdewoos turan.

### *Yesuus Awwaalamuu Isaa*
*27:57-61 kwf – Mar 15:42-47; Luq 23:50-56; Yoh 19:38-42*

57 Yommuu galgalaa'ettis namichi sooressi Yoosef jedhamu tokko Armaatiyaa dhufe;
inni mataan isaas baratаа Yesuus ture. 58 Innis gara Phiilaaxoos dhaqee reeffa
Yesuus kadhate; Phiilaaxoosis akka reeffi sun isaaf kennamu ajaje. 59 Yoosefis reeffa
sana fudhatee huccuu quncee talbaa irraa hojjetame qulqulluudhaan kafane; 60 innis
awwaala ofii isaa kan garaa kattaa keessatti qotate haaraa tokko keessa kaa'e. Dhagaa
guddaa tokkos balbala awwaala sanaatti gangalchee biraa deeme. 61 Maariyaam
isheen Magdalaatii fi Maariyaam isheen kaan fuullee awwaala sanaa tataa'aa turan.

### *Eegduu Awwaalaa*

62 Guyyaa itti aanutti jechuunis guyyaa qophii booddee luboonni hangafoonnii
fi Fariisonni fuula Phiilaaxoos duratti walitti qabaman. 63 Isaanis akkana jedhan;
"Gooftaa! Akka namichi gowwoomsaan sun utuu lubbuudhaan jiruu, 'Ani guyyaa
sadii booddee du'aa nan ka'a' jedhe nu ni yaadanna. 64 Kanaafuu akka awwaalli
sun hamma guyyaa sadaffaatti eegamu ajaji. Yoo kun ta'uu baate barattoonni isaa
dhaqanii reeffa isaa hatanii, 'Inni warra du'an keessaa ka'eera' jedhanii namatti
odeessu. Gowwoomsaan dhumaa kun immoo isa duraa caalaa ni hammaata."
65 Phiilaaxoosis deebisee, "Waardiyyaa fudhadhaa dhaqaatii akkuma beektanitti
awwaalicha eegsifadhaa" jedheen. 66 Kanaaf isaan dhaqanii dhagicha irratti
mallattoo godhan; waardiyyaas ramadanii awwaala sana eegsisan.

# 28

### *Du'aa Ka'uu Yesuus*
*28:1-8 kwf – Mar 16:1-8; Luq 24:1-10*

1 Sanbata booddee, guyyaa jalqaba torban sanaa Maariyaam isheen Magdalaatii fi
Maariyaam isheen kaan barii barraaqaan awwaala ilaaluu dhaqan.
2 Kunoo, sababii ergamaan Gooftaa samii irraa gad bu'ee gara awwaalaa dhaqee
balbala awwaalaa irraa dhagaa sana garagalchee irra taa'eef, sochiin lafaa guddaan
ta'e. 3 Bifti isaa ifaa akka bakakkaa, uffanni isaa immoo adii akka cabbii ture.
4 Waardiyyoonni sunis sababii isa sodaataniif hollatanii akkuma nama du'ee ta'an.
5 Ergamaan sunis dubartoota sanaan akkana jedhe; "Hin sodaatinaa! Akka isin
Yesuus isa fannifamee ture sana barbaaddan anuu beeka. 6 Inni as hin jiru; akkuma
jedhe sana du'aa ka'eeraatii. Kottaatii iddoo inni ciisaa ture ilaalaa. 7 Egaa dafaa
dhaqaatii akkana jedhaa barattoota isaatti himaa; 'Inni warra du'an keessaa ka'eera;
kunoo, inni isin dursee Galiilaa ni dhaqa. Achittis isa ni argitu.' Kunoo ani isinitti
himeera."
8 Dubartoonni sunis sodaatanii, ta'us gammachuu guddaan guutamanii ariitiidhaan
awwaala sana biraa deeman; barattoota isaatti himuufis fiigan. 9 Yeruma sana kunoo
Yesuus isaanitti dhufee, nagaa isaan gaafate. Isaanis isatti dhi'aatanii miilla isaa
qabatanii sagadaniif. 10 Yesuusis, "Hin sodaatinaa! Dhaqaatii akka isaan gara Galiilaa
deemaniif obboloota kootti himaa; isaanis achitti na argu" jedheen.

### *Gabaasa Waardiyyootaa*

11 Utuu dubartoonni sun karaa jiranuu waardiyyoota sana keessaa tokko tokko
magaalaa seenanii waan ta'e hunda luboota hangafootatti himan. 12 Luboonni
hangafoonnis erga maanguddoota wajjin walitti qabamanii mari'atanii booddee
loltootaaf maallaqa hedduu kennan. 13 Akkanas jedhaniin; " 'Utuu nu rafnuu
barattoonni isaa halkaniin dhufanii isa hatan' jedhaatii namootatti himaa. 14 Yoo

wanni kun gurra bulchaa seene nu isa amansiifnee rakkina jalaa isin baafnaa.”
15 Loltoonnis maallaqa sana fudhatanii akkuma ajajaman godhan. Oduun kunis
hamma har’aatti Yihuudoota biratti odeeffamaa jira.

### *Ergama Guddicha*

16 Barattoonni kudha tokkoon sun gara biyya Galiilaa, gara tulluu Yesuus dhaqaa
isaaniin jedhee ture sanaa dhaqan. 17 Isaanis yommuu isa arganitti ni sagadaniif;
isaan keessaa tokko tokko garuu ni maman. 18 Yesuus immoo isaanitti dhi’aatee
akkana jedhe; “Taayitaan hundinuu samii fi lafa irratti naa kennameera. 19 Kanaaf
dhaqaatii saba hundumaa maqaa Abbaatti, maqaa Ilmaatti, maqaa Hafuura Qulqul-
luuttis cuuphaatii barattoota taasisaa; 20 akka waan ani isin ajaje hunda eeganiifis
isaan barsiisaa. Kunoo, ani hamma dhuma addunyaatti guyyaa hunda isin wajjinan
jira.”

# Wangeela Maarqos

*Yohannis Cuuphaan Karaa Qopheessuu Isaa*
*1:2-8 kwf – Mat 3:1-11; Luq 3:2-16*

1 Jalqaba wangeela Yesuus Kiristoos Ilma Waaqaa. 2 Kitaaba Isaayyaas raajichaa
keessatti akkana jedhamee barreeffameera:

“Kunoo, ani ergamaa koo isa karaa kee qopheessu,*
si dura nan erga;”
3 “Sagalee nama, ‘Gooftaaf karaa qopheessaa;
daandii qajeelaas isaaf hojjedhaa’ jedhee
gammoojjii keessaa iyyu tokkoo.”†

4 Kanaafuu Yohannis gammoojjii keessatti nama cuuphaa, dhiifama cubbuutiif immoo
cuuphaa qalbii jijjiirrannaa lallabaa dhufe. 5 Biyyi Yihuudaa guutuunii fi namoonni
Yerusaalem hundinuus gara isaa dhaqanii cubbuu isaanii himachaa, Laga Yordaanos
keessatti isaan cuuphamaa turan. 6 Yohannis uffata rifeensa gaalaa irraa hojjetame
uffatee, mudhii isaas sabbata teephaatiin hidhata ture; inni hawwaannisaa fi damma
bosonaa nyaata ture. 7 Innis akkana jedhee lallabaa ture; “Kan na caalaa jabaa ta’e,
hidhaa kophee isaa illee gad jedhee hiikuun kan naaf hin malle tokko na duubaan
ni dhufa. 8 Ani bishaaniinan isin cuupha; inni garuu Hafuura Qulqulluudhaan isin
cuupha.”

*Cuuphamuu fi Qoramuu Yesuus*
*1:9-11 kwf – Mat 3:13-17; Luq 3:21,22*
*1:12,13 kwf – Mat 4:1-11; Luq 4:1-13*

9 Yeroo sana Yesuus Naazreeti ishee Galiilaatii dhufee Laga Yordaanos keessatti
Yohannisiin cuuphame. 10 Yesuus utuma bishaan keessaa ol ba’aa jiruu, samiin
banamee utuu Hafuurri akkuma gugeetti isa irratti gad bu’uu arge. 11 Sagaleen, “Ati
Ilma koo isa ani jaalladhuu dha; ani baay’ee sitti nan gammada” jedhu tokkos samii
irraa dhufe.
12 Yeruma sana Hafuurri gammoojjiitti isa baase; 13 inni guyyaa afurtama Seex-
anaan qoramaa gammoojjii keessa ture. Inni bineensota wajjin ture; ergamoonnis
isa tajaajilan.

*Barattoonni Jalqabaa Waamamuu Isaanii*
*1:16-20 kwf – Mat 4:18-22; Luq 5:2-11; Yoh 1:35-42*

14 Erga Yohannis mana hidhaatti galfamee booddee, Yesuus wangeela Waaqaa
lallabaa Galiilaa seene. 15 Innis, “Barri sun ga’eera; mootummaan Waaqaas
dhi’aateera; qalbii jijjiirradhaatii wangeelatti amanaa!” jedhe.
16 Yesuus utuu qarqara Galaana Galiilaa irra deemaa jiruu Simoonii fi obboleessa
isaa Indiriiyaas utuu isaan kiyyoo galaanatti darbachaa jiranuu arge; isaan qurxum-
mii qabdoota turaniitii. 17 Yesuusis, “Kottaa, na duukaa bu’aa; anis akka isin qabduu
namootaa taataniif isin nan erga” jedheen. 18 Isaanis yommusuma kiyyoo isaanii
dhiisanii isa duukaa bu’an.
19 Innis yommuu xinnoo achi hiiqetti Yaaqoob ilma Zabdewoosii fi obboleessa
isaa Yohannis utuu isaan bidiruu keessatti kiyyoowwan isaanii qopheeffatanuu arge.

* **1:2** 1:2 Mil 3:1 † **1:3** 1:3 Isa 40:3

[20] Innis yommusuma isaan waame; isaanis abbaa isaanii Zabdewoosin hojjettoota
qacaraman wajjin bidiruu sana keessatti dhiisanii isa duukaa bu'an.

### *Yesuus Hafuura Xuraa'aa Baasuu Isaa*
*1:21-28 kwf – Luq 4:31-37*

[21] Isaan gara Qifirnaahom dhaqan; innis yommusuma Sanbataan mana sagadaa
seenee barsiise. [22] Inni akka barsiistota seeraatti utuu hin ta'in akka nama
taayitaa qabu tokkootti waan barsiisaa tureef namoonni barsiisa isaa ni dinqisiifatan.
[23] Yeruma sana namichi mana sagadaa isaanii keessaa kan hafuura xuraa'aan
qabame tokko iyyee [24] akkana jedhe; "Yaa Yesuus nama Naazreeti, ati maal nurraa
qabda? Nu balleessuu dhufte moo? Ati eenyu akka taate ani nan beeka, yaa
Qulqullicha Waaqaa!"
[25] Yesuus immoo, "Cal'isii isa keessaa ba'i!" jedhee ifate. [26] Hafuurri xuraa'aan
sunis namicha dhidhiitachiisee, sagalee guddaadhaan iyyee keessaa ba'e.
[27] Namoonni hundinuu baay'ee dinqifatanii, "Kun maalii? Inni taayitaadhaan
barsiisa haaraa barsiisa! Hafuurota xuraa'oo illee ni ajaja; isaanis ni ajajamuuf"
waliin jedhan. [28] Oduun waa'ee isaas dafee biyya Galiilaa guutuu keessa faffaca'e.

### *Yesuus Nama Hedduu Fayyisuu Isaa*
*1:29-31 kwf – Mat 8:14,15; Luq 4:38,39*
*1:32-34 kwf – Mat 8:16,17; Luq 4:40,41*

[29] Isaanis akkuma mana sagadaatii ba'aniin Yaaqoobii fi Yohannis wajjin mana
Simoonii fi Indiriiyaas dhaqan. [30] Haati niitii Simoonis dhukkuba dhagna gubaad-
haan qabamtee ciifti turte; isaanis yommusuma waa'ee ishee Yesuusitti himan.
[31] Innis dhaqee harka qabee ishee kaase. Dhagna gubaan sunis ishee dhiise; isheenis
isaan tajaajiluu jalqabde.
[32] Namoonnis galgala sana erga biiftuun lixxee booddee, dhukkubsattootaa fi warra
hafuurota hamoon qabaman hunda Yesuusitti fidan. [33] Magaalaan sun guutuunis
balbala duratti walitti qabame. [34] Yesuusis namoota dhibee garaa garaa qaban
hedduu fayyise; hafuurota hamoo baay'ees ni baase; garuu inni sababii hafuuronni
hamoon sun eenyummaa isaa beekaniif akka isaan dubbatan hin eeyyamneef.

### *Yesuus Iddoo Namni Hin Jirretti Kadhachuu Isaa*
*1:35-38 kwf – Luq 4:42,43*

[35] Yesuus ganama barii dimimmisaan ka'ee manaa ba'ee iddoo namni hin jirre
tokko dhaqee achitti kadhate. [36] Simoonii fi warri isa wajjin turan isa barbaaduu
deeman; [37] isaanis yommuu isa argatanitti, "Namni hundinuu si barbaadaa jira!"
jedhaniin.
[38] Yesuus immoo deebisee, "Akka ani achittis lallabuuf kottaa gara magaalaawwan
dhi'oo jiran kaanii dhaqnaa. Sababiin ani dhufeefis kanuma" jedhe. [39] Kanaafuu
inni manneen sagadaa isaanii keessatti lallabaa, hafuurota hamoos baasaa, Galiilaa
guutuu keessa deeme.

### *Namicha Lamxaa'aa Tokko*
*1:40-44 kwf – Mat 8:2-4; Luq 5:12-14*

[40] Namichi lamxaa'aan tokko gara isaa dhufee jilbeenfatee, "Yoo fedhii kee ta'e, ati
na qulqulleessuu ni dandeessa" jedhee isa kadhate.
[41] Yesuusis garaa laafeefii, harka isaa hiixatee namicha qaqqabee, "Fedhii koo ti;
qulqullaa'i!" jedheen. [42] Yeruma sana lamxiin sun namicha irraa bade; namichis ni
qulqullaa'e.

43 Yesuusis of eeggannoo jabaa kenneefii yommusuma gad isa dhiise. 44 Akkanas
jedheen; “Ati waan kana nama tokkotti illee akka hin himne beekkadhu; garuu dhaqi-
itii akka isaaniif ragaa ta’uuf lubatti of argisiisi; qulqullaa’uu keetiifis aarsaawwan
Museen ajaje sana dhi’eessi.” 45 Namichi garuu achii ba’ee baay’isee odeessuu
jalqabe. Kanaafis Yesuus ergasii magaalaan ala, lafa namni hin jirre ture malee ifaan
ifatti magaalattii seenuu hin dandeenye. Namoonni garuu iddoo hundatti isa bira
dhufaa turan.

# 2

*Yesuus Nama Dhagni Irratti Du’e Tokko Fayyisuu Isaa*
*2:3-12 kwf – Mat 9:2-8; Luq 5:18-26*

1 Yesuus guyyaa muraasa booddee Qifirnaahomitti deebi’e; namoonnis akka inni
mana jiru dhaga’an. 2 Namoonni akka malee baay’atan walitti qabamnaan iddoon
dhabamee balballi durris dhiphate; innis dubbicha isaanitti lallabaa ture. 3 Jarri
tokko nama dhagni irratti du’e kan namoota afuriin baatame tokko gara isaa fidan.
4 Isaanis sababii baay’ina namaatiif namicha sana Yesuusitti dhi’eessuu dadhabanii
qixa Yesuus tureen bantii manaa saaqanii siree namichi dhagni irratti du’e irra ciise
sana gad buusan. 5 Yesuusis yommuu amantii isaanii argetti namicha dhagni irratti
du’e sanaan, “Gurbaa, cubbuun kee siif dhiifameera” jedhe.

6 Barsiistota seeraa keessaa tokko tokko achi tataa’anii garaa isaanii keessatti,
7 “Namichi kun maaliif akkana dubbata? Inni Waaqa arrabsa! Waaqa tokkicha malee
eenyutu cubbuu namaaf dhiisuu danda’a?” jedhanii yaadan.

8 Yesuusis yeruma sana akka wanni isaan garaa isaanii keessatti yaadaa turan
kana ta’e hafuuraan beekee akkana jedheen; “Isin maaliif waan kana yaaddu?
9 Namicha dhagni irratti du’e kanaan, ‘Cubbuun kee siif dhiifameera’ jechuu moo
‘Ka’ii siree kee fudhadhuu deemi’ jechuutu salphaa dha? 10 Ani garuu akka Ilmi
Namaa cubbuu namaaf dhiisuudhaaf lafa irratti taayitaa qabu akka beektan nan
barbaada.” Kanaafuu inni namicha sanaan, 11 “Ani sitti nan hima; ka’i; siree kee
fudhadhuutii mana keetti gali” jedhe. 12 Innis ka’ee, yommusuma siree isaa fudhatee
utuma isaan hundinuu arganuu ba’e deeme. Kunis hunda isaanii dinqisiise; isaanis,
“Nu takkumaa waan akkanaa arginee hin beeknu!” jedhanii Waaqa jajan.

*Waamamuu Lewwii*
*2:14-17 kwf – Mat 9:9-13; Luq 5:27-32*

13 Yesuus amma illee gara qarqara galaanichaatti gad ba’e. Namoonni baay’eenis
isa biratti walitti qabaman; innis isaan barsiisuu jalqabe. 14 Innis utuu achiin darbaa
jiruu, Lewwii ilma Alfewoos utuu inni iddoo itti qaraxa walitti qaban taa’uu argee,
“Na duukaa bu’i” jedheen. Lewwiinis ka’ee isa duukaa bu’e.

15 Yeroo Yesuus mana Lewwiitti irbaata nyaachaa turetti, qaraxxoonnii fi cub-
bamoonni baay’een isaa fi barattoota isaa wajjin nyaachaa turan; namoonni isa
duukaa bu’an baay’ee turaniitii. 16 Barsiistonni seeraa warri Fariisota turan yommuu
isaa cubbamootaa fi qaraxxoota wajjin nyaatu arganitti, “Inni maaliif qaraxxootaa fi
cubbamoota wajjin nyaata?” jedhanii barattoota isaa gaafatan.

17 Yesuus immoo waan kana dhageenyaan, “Ogeessi fayyaa tokko warra dhukkub-
sataniif malee warra fayyaa qabaniif hin barbaachisu. Ani cubbamoota waamuufin
dhufe malee qajeeltota waamuuf hin dhufne” jedheen.

*Yesuus Waa’ee Soomaa Gaafatame*
*2:18-22 kwf – Mat 9:14-17; Luq 5:33-38*

18 Barattoonni Yohannisii fi Fariisonni ni soomu turan. Namoonni tokko tokko
dhufanii, “Barattoonni Yohannisii fi barattoonni Fariisotaa ni soomu; barattoonni
kee garuu maaliif hin soomne?” jedhanii Yesuusin gaafatan.
19 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Keessummoonni misirrichaa akkamiin
utuu inni isaan wajjin jiruu soomuu danda’u? Isaan hamma isa of biraa qabanitti
soomuu hin danda’an. 20 Garuu yeroon itti misirrichi isaan biraa fudhatamu ni dhufa;
isaanis gaafas ni soomu.
21 “Namni uffata moofaa irratti erbee haaraa erbu tokko iyyuu hin jiru. Yoo kun
godhame, erbeen haaraan sun uffata sana irraa tarsaasa; tarsa’aan sunis isa duraa ni
caala. 22 Namni daadhii wayinii haaraa qalqalloo moofaatti naqu tokko iyyuu hin jiru.
Yoo itti naqe immoo daadhiin sun qalqalloo sana dhoosa; daadhichii fi qalqallichi
horoomaa ba’u. Qooda kanaa daadhiin wayinii haaraan qalqalloo haaraatti naqamuu
qaba.”

### *Yesuus Gooftaa Sanbataa Ta’uu Isaa*
*2:23-28 kwf – Mat 12:1-8; Luq 6:1-5*
*3:1-6 kwf – Mat 12:9-14; Luq 6:6-11*

23 Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus lafa qotiisaa midhaanii keessa darbaa ture;
barattoonni isaas utuu isa wajjin deemaa jiranuu asheetii midhaanii cirachuu
jalqaban. 24 Fariisonnis, “Ilaa, isaan maaliif waan Sanbataan hojjechuun hin
eeyyamamne hojjetu?” jedhaniin.
25 Innis akkana jedhee deebise; “Isin waan Daawit yeroo innii fi miiltonni isaa
beela’anii fi rakkatanitti godhe sana takkumaa hin dubbifnee? 26 Bara Abiyaataar
luba ol aanaa ture keessa, inni mana Waaqaa seenee buddeena qulqulleeffame kan
akka luboonni qofti nyaataniif eeyyamame sana nyaate. Warra isa wajjin jiraniifis ni
kenne.”
27 Yesuusis akkana jedheen; “Sanbatatu namaaf uumame malee namni Sanbataaf
hin uumamne. 28 Kanaafuu Ilmi Namaa Sanbataaf illee Gooftaa dha.”

# 3

### *Yesuus Guyyaa Sanbataatiin Fayyisuu Isaa*

1 Ammas Yesuus mana sagadaa seene; namichi harki irratti goge tokkos achi
ture. 2 Isaan keessaas namoonni tokko tokko Yesuusin himachuuf jedhanii sababa
barbaadaa turan; kanaafuu akka inni Sanbataan namicha fayyisu ilaaluuf isa gaadan.
3 Yesuusis namicha harki irratti goge sanaan, “Ka’ii fuula nama hundaa dura
dhaabadhu” jedhe.
4 Yesuusis, “Sanbataan isa kamtu eeyyamamaa dha? Waan gaarii hojjechuu moo
waan hamaa hojjechuu? Lubbuu oolchuu moo ajjeesuu?” jedhee isaan gaafate. Isaan
garuu ni cal’isan.
5 Innis mata jabina isaaniitti akka malee gaddee, aariidhaan garagalee isaan ilaale;
namicha sanaanis, “Harka kee diriirfadhu!” jedhe. Namichis harka diriirfate; harki
isaas guutumaan guutuutti fayye. 6 Fariisonnis gad ba’anii akka ittiin Yesuusin
ajjeesuu danda’an garee Heroodis wajjin mari’achuu jalqaban.

### *Namoonni Yesuus Duukaa Bu’an*
*3:7-12 kwf – Mat 12:15,16; Luq 6:17-19*

7 Yesuus barattoota isaa wajjin achii ka’ee gara galaanichaatti qajeele; tu-
unni namoota baay’ees Galiilaadhaa isa duukaa bu’e. 8 Namoonni baay’eenis
yommuu waan inni hojjechaa ture hunda dhaga’anitti Yihuudaadhaa, Yerusaalemii,
Edoomiyaasii, biyya Yordaanos gamaatii, naannoo Xiiroosiitii fi Siidoonaatii gara
isaa dhufan. 9 Innis akka baay’ina namaatiin hin dhiibamneef akka isaan bidiruu

xinnoo tokko isaaf qopheessan barattoota isaatti hime. [10] Sababii inni nama baay'ee
fayyisee tureef, warri dhukkubsatan hundinuu isa tuquuf jedhanii irratti wal cabsaa
turan. [11] Hafuuronni xuraa'oonis yeroo isa argan fuula isaa duratti kufanii, "Ati Ilma
Waaqaa ti!" jedhanii iyyu turan. [12] Inni garuu akka isaan akka inni beekamu hin
goone jabeessee isaan ajaje.

*Filatamuu Ergamoota Kudha Lamaanii*
*3:16-19 kwf – Mat 10:2-4; Luq 6:14-16; Hoj 1:13*

[13] Yesuusis tulluutti ol ba'ee warra ofii isaatii barbaade ofitti waame; isaanis gara
isaa dhufan. [14] Innis akka isaan isa wajjin jiraatanii fi akka lallabaaf isaan erguuf
namoota kudha lama muudee barattoota jedhee moggaase; [15] akka isaan hafuurota
hamoo baasaniifis taayitaa kenneef.

[16] Warri kudha lamaan inni muudes isaan kana:

Simoon isa inni "Phexros" jedhee moggaase,
[17] Yaaqoob ilma Zabdewoosii fi obboleessa isaa Yohannis warra inni "Bo'anergees"
jedhee moggaase; Bo'anergees jechuun ilmaan "Kakawwee" jechuu dha;
[18] Indiriiyaas,
Fiiliphoos,
Bartaloomewoos,
Maatewos,
Toomaas,
Yaaqoob ilma Alfewoos,
Taadewoos,
Simoon Hinaafticha,
[19] Yihuudaa Keeriyoticha isa Yesuusin dabarsee kenne.

*Yesuusii fi Bi'eelzebuul*
*3:23-27 kwf – Mat 12:25-29; Luq 11:17-22*

[20] Yesuusis mana tokko seene; sababii namoonni akka malee baay'atan ammas
walitti qabamaniif innii fi barattoonni isaa waa nyaachuu illee hin dandeenye.
[21] Firoonni isaas yommuu waan kana dhaga'anitti isa qabuu dhaqan; namoonni,
"Inni qalbii dabarseera" jechaa turaniitii.

[22] Barsiistonni seeraa warri Yerusaalemii gad bu'an, "Inni Bi'eelzebuuliin
qabameera! Hangafa hafuurota hamootiin hafuurota hamoo baasaa jira" jedhan.

[23] Yesuus immoo ofitti isaan waamee akkana jedhee fakkeenyaan isaanitti dubbate:
"Seexanni akkamitti Seexana baasuu danda'a? [24] Mootummaan tokko yoo gargar
of qoode, mootummaan sun dhaabachuu hin danda'u. [25] Manni tokko yoo gargar
of qoode, manni sun dhaabachuu hin danda'u. [26] Seexannis yoo gargar of qoode,
inni dhaabachuu hin danda'u; dhumni isaa ga'eeraatii. [27] Dhugumaan namni kam
iyyuu utuu duraan dursee nama jabaa tokko hin hidhin, mana nama jabaa sanaa
seenee qabeenya isaa saamuu hin danda'u. Ergasii inni mana namicha jabaa sanaa
saamuu danda'a. [28] Ani dhuguma isinittin hima; cubbuun isaanii hundii fi arrabsoon
isaan dubbatan hundi namootaaf dhiifamuu ni danda'a; [29] namni Hafuura Qulqulluu
arrabsu kam iyyuu garuu gonkumaa dhiifama hin argatu; inni itti gaafatamaa cubbuu
bara baraa ti."

[30] Yesuusis sababii isaan, "Inni hafuura xuraa'aa qaba" jechaa turaniif waan kana
dubbate.

*Haadha Yesuusii fi Obboloota Isaa*
*3:31-35 kwf – Mat 12:46-50; Luq 8:19-21*

31 Haatii fi obboloonni isaa dhufanii, ala dhaabatanii nama itti erganii isa
waamsisan. 32 Namoonni baay'eenis isatti naanna'anii taa'aa turan; isaanis, "Haati
keetii fi obboloonni kee ala dhadhaabatanii si iyyaafachaa jiru" jedhanii isatti himan.
33 Inni immoo, "Haati kootii fi obboloonni koo eenyu?" jedhee gaafate.
34 Innis warra naannoo isaa marsanii tataa'an ilaalee akkana jedhe; "Haati kootii fi
obboloonni koo kunoo ti! 35 Namni fedhii Waaqaa raawwatu kam iyyuu obboleessa
koo ti; obboleettii koo ti; haadha kootis."

# 4

*Fakkeenya Nama Sanyii Facaasuu*
*4:1-12 kwf – Mat 13:1-15; Luq 8:4-10*
*4:13-20 kwf – Mat 13:18-23; Luq 8:11-15*

1 Yesuus ammas qarqara galaanichaatti barsiisuu jalqabe. Tuunni naannoo isaatti
walitti qabame akka malee guddaa ture; utuu namoonni hundi qarqara galaanichaa
irra afaan bishaanii jiranuu, inni bidiruu yaabbatee galaanicha irra achi hiiqee
taa'e. 2 Fakkeenyaanis waan baay'ee isaan barsiise; barsiisa isaa keessattis akkana
jedhe: 3 "Mee dhaga'aa! Kunoo, namichi sanyii facaasu tokko sanyii facaafachuu
ba'e. 4 Utuu inni facaasaa jiruus sanyiin tokko tokko karaa irra bu'e; simbirroonnis
dhufanii nyaatanii fixan. 5 Kaan immoo lafa kattaa, iddoo biyyoo baay'ee hin qabne
irra bu'e. Sanyiin sunis sababii biyyoon sun gad fageenya hin qabaatiniif dafee
biqile. 6 Yommuu aduun baatetti garuu biqiltuun sun ni coollage; waan hidda hin
qabaatiniifis ni goge. 7 Sanyiin biraas qoraattii keessa bu'e; qoraattiin sunis guddatee
biqiltuu sana hudhe; biqiltuun sunis ija hin naqanne. 8 Ammas sanyiin kaan biyyoo
gaarii irra bu'e. Ni biqile; ni guddate; ijas ni naqate. Inni tokko soddoma, kaan
jaatama, kaan immoo dhibba naqate."
9 Yesuusis, "Namni gurra dhaga'u qabu kam iyyuu haa dhaga'u" jedhe.
10 Yeroo inni kophaa turettis warri Kudha Lamaanii fi namoonni naannoo isaa
turan biraa waa'ee fakkeenya sanaa isa gaafatan. 11 Innis akkana jedheen; "Icciitiin
mootummaa Waaqaa isiniif kennameera. Warra ala jiranitti garuu wanni hundinuu
fakkeenyaan himama; 12 kunis,
" 'Isaan akka hin deebinee fi akka dhiifama hin arganneef,
arguu inuma argu, garuu hin qalbeeffatan;
dhaga'uus inuma dhaga'u, garuu hin hubatan.'*"
13 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "Isin fakkeenya kana hin hubattanii? Yoos isin
akkamitti fakkeenya hunda hubattu ree? 14 Namichi sanyii facaasu sun dubbicha
facaasa. 15 Namoonni tokko tokko sanyii karaa irraa, lafa dubbichi itti facaafame
sana fakkaatu. Akkuma isaan dubbicha dhaga'aniin Seexanni dhufee dubbicha isaan
keessatti facaafame sana fudhata. 16 Warri kaan akkuma sanyii lafa kattaa irratti
facaafamee ti; isaan yommuu dubbicha dhaga'anitti yommusuma gammachuun
fudhatu. 17 Garuu isaan waan hidda hin qabneef yeroo gabaabaa qofa turu.
Yeroo rakkinni yookaan ari'atamni sababii dubbichaatiif dhufutti isaan dafanii
gufatu. 18 Ammas warri kaan sanyii qoraattii keessatti facaafame fakkaatu; isaanis
warra dubbicha dhaga'anii dha; 19 garuu yaaddoon addunyaa kanaa, gowwoomsaan
qabeenyaatii fi hawwiin waan garaa garaa isaan seenee dubbicha hudhee ija
naqachuu dhowwa. 20 Warri kaanis sanyii biyyoo gaarii irratti facaafame fakkaatu;
isaanis dubbicha ni dhaga'u; ni fudhatu; ijas ni naqatu; inni tokko soddoma, kaan
jaatama, kaan immoo dhibba naqata."

*Ibsaa Gombisaa Jalaa*

* **4:12** 4:12 Isa 6:9,10

21 Innis akkana isaaniin jedhe; “Isin ibsaa gombisaa jala yookaan siree jala kaa’uuf
fidduu? Qooda kanaa baattuu isaa irra keessu mitii? 22 Wanni dhokfame kam
iyyuu mul’ifamuuf jiraatii; wanni haguugame kam iyyuus ifatti baafamuuf jiraatii.
23 Namni kam iyyuu yoo gurra dhaga’u qabaate haa dhaga’u.”
24 Innis itti fufee akkana jedheen; “Waan dhageessan qalbeeffadhaa. Safartuu
ittiin safartaniinis, hammas caalaa iyyuu isiniif safarama. 25 Kan qabu kamiif iyyuu
itti dabalamee ni kennama; kan hin qabne garuu wanni inni qabu iyyuu irraa
fudhatama.”

*Fakkeenya Sanyii Guddatuu*

26 Ammas akkana jedhe; “Mootummaan Waaqaa nama lafa isaa irratti sanyii
facaasu tokko fakkaata. 27 Akkamitti akka ta’e namichi beekuu baatu illee, inni rafus
yookaan dammaqus, sanyiin sun halkanii guyyaa ni biqila; ni guddatas. 28 Lafti
ofuma isheetiin midhaan baafti; jalqabatti biqila, itti aansee hudhaa midhaanii,
ergasii immoo midhaan guutuu baafti. 29 Namichis akkuma midhaanichi bilchaateen
haamuu jalqaba; yeroon haamaa ga’eeraatii.”

*Fakkeenya Sanyii Sanaaficaa*
*4:30-32 kwf – Mat 13:31,32; Luq 13:18,19*

30 Ammas inni akkana jedhe; “Mootummaan Waaqaa maal fakkaata jechuu
dandeenya? Yookaan fakkeenya maaliitiin isa ibsina? 31 Inni sanyii sanaaficaa kan
sanyiiwwan lafa irra jiran hunda irra xinnaa ta’e fakkaata. 32 Erga facaafamee
booddee garuu guddatee biqiltuu hunda caala; dameewwan gurguddaa simbirroon-
nis gaaddisa isaa jala jiraachuu danda’anis qabaata.”
33 Yesuusis fakkeenyawwan akkanaa baay’eedhaan hamma isaan dhaga’uu
danda’an dubbicha isaanitti dubbate. 34 Innis fakkeenyaan malee waan tokko illee
isaanitti hin dubbanne. Yeroo kophaa turanitti garuu waan hunda barattoota isaatiif
ni ibse.

*Yesuus Bubbee Gab Gochuu Isaa*
*4:35-41 kwf – Mat 8:18,23-27; Luq 8:22-25*

35 Inni gaafas, yeroo galgalaa’etti, “Kottaa gama ceenaa” isaaniin jedhe. 36 Isaanis
tuuta namootaa sana achitti dhiisanii Yesuusin akkuma inni bidiruu keessa jirutti
fuudhanii deeman. Bidiruuwwan biraas isa wajjin turan. 37 Bubbeen hamaan
tokko ni ka’e; dambaliinis bidiruu sana dha’ee bidiruun sun bishaaniin guutamuu
ga’e. 38 Yesuusis bidiruu sana keessa karaa duubaa boraatii tokko irra rafaa ture.
Barattoonnis isa dammaqsanii, “Yaa barsiisaa, dhumuun keenya homaa si hin
dhibuu?” jedhaniin.
39 Innis ka’ee bubbee sana ifate; dambalii sanaanis, “Cal’isi! Gab jedhis!” jedhe.
Bubbeen sunis ni cal’ise; tasgabbiin guddaanis ni ta’e.
40 Innis barattoota isaatiin, “Isin maaliif akkana sodaattu? Isin amma iyyuu amantii
hin qabdanii?” jedhe.
41 Isaanis akka malee sodaatanii, “Namichi bubbee fi dambaliin iyyuu ajajamaniif
kun eenyu?” jedhanii wal gaafatan.

# 5

*Yesuus Nama Hafuura Hamaan Qabame Tokko Fayyise*
*5:1-17 kwf – Mat 8:28-34; Luq 8:26-37*
*5:18-20 kwf – Luq 8:38,39*

1 Isaanis galaanicha ce’anii biyya Gergeesenoon dhaqan. 2 Yommuu Yesuus bidiruu
irraa bu’etti, yommusuma namichi hafuura xuraa’aadhaan qabame tokko iddoo
awwaalaatii ba’ee isatti dhufe. 3 Namichi kun iddoo awwaalaa jiraata ture; namni

tokko iyyuu foncaan illee lammata isa hidhuu hin dandeenye. 4 Inni yeroo baay’ee
funyoo sibiilaatii fi foncaadhaan hidhama ture; garuu foncaa sana kukkutee funyoo
sibiilaa sanas caccabsa tureetii. Namni gad isa qabuu danda’u tokko iyyuu hin
turre. 5 Innis yeroo hundumaa, halkanii guyyaa iddoo awwaalaa keessattii fi gaarran
gubbaatti iyyaa, dhagna isaas dhagaadhaan murmuraa ture.

6 Innis yommuu Yesuusin fagootti argetti itti fiigee, fuula isaa duratti jilbeenfate.
7 Sagalee ol fudhatee iyyees, “Yaa Yesuus Ilma Waaqa Waan Hundaa Olii, ati maal
narraa barbaadda? Maqaa Waaqaatiin sin kadhadhaatii maaloo na hin dhiphisin!”
jedheen. 8 Yesuusis, “Yaa hafuura xuraa’aa, namicha kana keessaa ba’i!” jedheenii
tureetii.

9 Yesuusis, “Maqaan kee eenyu?” jedhee isa gaafate.

Innis, “Nu waan baay’ee taaneef, maqaan koo Leegewoon*” jedhee deebise. 10 Akka
inni biyya sana keessaa isaan hin ariineefis guddisee Yesuusin kadhate.

11 Hoomaan booyyee guddaan isaas gaara bira dheedaa ture. 12 Hafuuronni
hamoon sunis, “Gara hoomaa booyyee sanaatti nu ergi; akka itti galluufis nuu
eeyyami” jedhanii Yesuusin kadhatan. 13 Innis ni eeyyameef; hafuuronni xuraa’oon
sun ba’anii booyyee sanatti galan. Hoomaan gara booyyee kuma lamaa of keessaa
qabu sunis ededa hallayyaa irraa gad furguggifamee galaanatti nam’ee liqimfame.

14 Warri booyyeewwan tiksan sunis baqatanii magaalaa fi baadiyyaatti waan kana
odeessan; namoonnis waan ta’e sana ilaaluu yaa’an. 15 Isaanis yommuu gara Yesuus
dhufanitti namicha Leegewoonii hafuurota hamootiin qabamee ture sana wayyaa
uffatee, qalbii isaattis deebi’ee achi taa’ee argan; ni sodaatanis. 16 Warri waan kana
arganii turanis waan namicha hafuurota hamoon qabamee ture sanaaf ta’ee fi waa’ee
hoomaa booyyees namootatti odeessan. 17 Kana irratti jarri akka Yesuus biyya isaanii
keessaa ba’uuf isa kadhachuu jalqaban.

18 Utuu Yesuus bidiruu yaabbachaa jiruu namichi hafuura hamaan qabamee ture
sun isa wajjin deemuuf isa kadhate. 19 Yesuus garuu, “Gara mana keetii, warra
keetti galiitii waan guddaa Gooftaan siif godhee fi akkamitti akka inni si maares
isaanitti odeessi!” jedheen malee hin eeyyamneef. 20 Kanaafuu namichi sun dhaqee
waan Yesuus isaaf godhe Magaalaa Kurnan keessatti odeessuu jalqabe. Namoonni
hundinuus ni dinqifatan.

### *Durba Duutee fi Dubartii Dhukkubsatte Tokko*
### *5:22-43 kwf – Mat 9:18-26; Luq 8:41-56*

21 Yommuu Yesuus bidiruudhaan ammas gara gama galaanaatti ce’etti namoonni
hedduun isa biratti walitti qabaman; innis qarqara galaanaa ture. 22 Hooggantoota
mana sagadaa keessaas namichi Yaa’iiros jedhamu tokko dhufe; innis yommuu
Yesuusin argetti, miilla isaa irratti kufee, 23 “Intalli koo xinnoon du’uu geesseerti.
Akka isheen fayyitee jiraattuuf, maaloo kottuutii harka kee ishee irra ka’i” jedhee
jabeessee isa kadhate. 24 Kanaafuu Yesuus isa wajjin dhaqe.

Namoonni baay’eenis isa duukaa bu’an; gara isaattis wal dhiibaa turan.
25 Dubartiin dhiigni ishee waggaa kudha lama dhangala’aa ture tokkos achi turte.
26 Isheenis ogeeyyii fayyaa baay’ee biratti akka malee dhiphatte; waan qabdu
hundumas of harkaa fixxe; garuu ittuma hammaachaa deeme malee itti hin
wayyoofne. 27 Isheenis yommuu waa’ee Yesuus dhageessetti dugda isaa duubaan
namoota gidduudhaan dhuftee uffata isaa tuqxe. 28 Isheen, “Ani yoon uffatuma isaa
illee tuqe nan fayya” jettee yaaddee turteetii. 29 Dhiigni ishees yommusuma cite;
isheenis akka dhiphina ishee irraa fayyite dhagna ishee keessatti hubatte.

* **5:9** 5:9 Leegewooniin Roomaa tokkichi loltoota 6,000 qabata.

30 Yesuusis yommusuma akka humni isa keessaa ba’e hubate. Innis namoota keessa
garagalee, “Eenyutu uffata koo tuqe?” jedhee gaafate.
31 Barattoonni isaas deebisanii, “Akka namoonni si dhiibaa jiran utuma argituu,
‘Eenyutu na tuqe?’ jettee gaafattaa?” jedhan.
32 Yesuus garuu namni waan kana godhe eenyuu akka ta’e arguuf jedhee garagalee
ilaale. 33 Dubartittiinis waan isheef godhame hubattee sodaadhaan hollachaa dhuftee
miilla isaa irratti kufte; dhugaa hundumas isatti himte. 34 Innis, “Yaa intalaa,
amantiin kee si fayyiseera. Nagaan deemi; dhiphina kee irraas fayyi” jedheen.
35 Utuu Yesuus dubbachaa jiruus namoonni tokko tokko mana Yaa’iiroos bulchaa
mana sagadaatii dhufanii, “Intalli kee duuteerti; ati si’achi maaliif barsiisicha
rakkifta?” jedhan.
36 Yesuus garuu waan isaan jedhan jalaa qabuu didee bulchaa mana sagadaa
sanaan, “Amani malee hin sodaatin!” jedhe.
37 Innis Phexros, Yaaqoobii fi Yohannis obboleessa Yaaqoob malee akka namni
tokko iyyuu isa faana deemu hin eeyyamne. 38 Yommuu mana hoogganaa mana
sagadaa sanaa bira ga’anittis Yesuus uummata wacu, namoota boo’anii fi wawwaatan
arge. 39 Innis ol seenee, “Wacnii fi boo’ichi kun hundi maali? Intalattiin ni rafti malee
hin duune” jedheen. 40 Isaan garuu isatti kolfan.
Innis erga hunda isaanii gad baasee booddee, abbaa fi haadha intalattii, barattoota
isa wajjin turanis fudhatee iddoo intalattiin jirtu seene. 41 Innis harka ishee qabee,
*“Xaaliitaa quumii!”* jedheen; kunis, “Yaa mucattii xinnoo, ani siin nan jedha, ka’i!”
jechuu dha. 42 Mucattiinis yommusuma kaatee dhaabatte; asii fi achis deemuu
jalqabde. Umuriin ishee waggaa kudha lama ture. Isaanis yommusuma akka malee
dinqifatan. 43 Innis akka namni tokko iyyuu waan kana hin beekneef ajaja cimaa
kenne; akka isaan waan isheen nyaattu isheef kennan isaanitti hime.

# 6

*Raajii Kabaja Dhabe*
*6:1-6 kwf – Mat 13:54-58*

1 Yesuus achii ba’ee gara magaalaa itti dhalatee dhaqe; barattoonni isaas isa wajjin
dhaqan. 2 Innis guyyaan Sanbataa geenyaan mana sagadaatti barsiisuu jalqabe; warri
isa dhaga’an baay’eenis ni dinqisiifatan.
Isaanis akkana jedhanii gaafatan; “Namichi kun wantoota kanneen eessaa argate?
Ogummaan isaaf kenname kun maali? Hojiiwwan dinqisiisoon harka isaatiin
hojjetaman kanneen akkanaa maali? 3 Namichi kun sooftuu mukaa mitii? Inni ilma
Maariyaam, obboleessa Yaaqoob, kan Yoosaa, kan Yihuudaa fi kan Simoon mitii?
Obboleettonni isaa as nu bira jiru mitii?” Isaanis isatti gufatan.
4 Yesuus immoo, “Raajiin magaalaa itti dhalatetii, firoota isaa keessattii fi mana
isaatti malee kabaja hin dhabu” jedheen. 5 Innis dhukkubsattoota muraasa irra
harka isaa kaa’ee fayyisuu malee hojii dinqisiisaa tokko illee achitti hojjechuu hin
dandeenye. 6 Innis amantii dhabuu isaaniitiif dinqifate.

*Yesuus Jara Kudha Lamaan Erguu Isaa*
*6:7-11 kwf – Mat 10:1,9-14; Luq 9:1,3-5*

Yesuusis namoota barsiisaa ganda tokko irraa gara ganda biraatti naanna’aa ture.
7 Warra Kudha Lamaan ofitti waamee lama lamaan isaan erguu jalqabe; hafuurota
xuraa’oo irrattis taayitaa kenneef.
8 Akkana jedhees isaan ajaje: “Adeemsa keessaniif ulee malee waan tokko illee
jechuunis buddeenaa fi korojoo hin qabatinaa; sabbata keessanitti immoo maallaqa
hin guduunfatinaa. 9 Kophee kaa’adhaa; garuu kittaa lama hin uffatinaa. 10 Yeroo

mana tokko seentan kam iyyuu, hamma magaalaa sanaa baatanitti manuma sana
turaa. 11 Yoo iddoon kam iyyuu isin simachuu baate yookaan isin dhaga'uu
baate, iddoo sanaa ba'aatii akka ragaa isaanitti ta'uuf awwaara miilla keessanii
dhadha'adhaa."
12 Isaanis achii ba'anii akka namoonni qalbii jijjiirrataniif lallaban. 13 Hafuurota
hamoo baay'ee baasan; dhukkubsattoota baay'ees zayitii dibanii fayyisan.

*Ajjeefamuu Yohannis Cuuphaa*
*6:14-29 kwf – Mat 14:1-12*
*6:14-16 kwf – Luq 9:7-9*

14 Heroodis mootichi waa'ee waan kanaa dhaga'e; maqaan Yesuus sirriitti
beekamee tureetii. Namoonni tokko tokko, "Yohannis cuuphaan warra du'an keessaa
kaafameera; sababiin hojiin dinqii isaan hojjetamuufis kanuma" jedhan.
15 Warri kaan, "Inni Eeliyaas" jedhan.

Kaan immoo, "Inni raajota durii keessaa akka isa tokkoo ti" jedhan.

16 Heroodis garuu yommuu waan kana dhaga'etti, "Yohannis isa ani mataa isaa
irraa kutetu warra du'an keessaa kaafame!" jedhe.
17 Heroodis mataan isaa akka Yohannis qabamee, hidhamee mana hidhaatti
galfamu ajajee tureetii. Innis sababii niitii obboleessa ofii isaa Fiiliphoos, sababii
Heroodiyaas ishee ofii fuudhee ture sanaatiif jedhee waan kana godhe. 18 Yohannisis
Heroodisiin, "Ati niitii obboleessa keetii fuudhuun kee seera miti" jedhaanii tureetii.
19 Kanaafuu Heroodiyaas Yohannisitti haaloo qabattee isa ajjeesuu barbaadde.
Garuu isheen hin dandeenye; 20 Heroodis akka Yohannis nama qajeelaa fi nama
qulqulluu ta'e beekee, isa sodaatee, eegumsa isaaf gochaa tureetii. Heroodis yommuu
waan Yohannis dubbatu dhaga'etti akka malee rifate; ta'us gammachuudhaan isa
dhaggeeffachuu barbaade.
21 Dhuma irrattis yeroon mijaa'aan argame. Heroodis guyyaa dhaloota isaatti
qondaaltota gurguddootaaf, ajajjoota loltootaatii fi namoota Galiilaa keessatti beeka-
maniif irbaata qopheesse. 22 Intalli Heroodiyaas yommuu ol seentee sirbitetti
Heroodisii fi keessummoota isaa warra irbaata affeeraman gammachiifte.

Mootichis intalattiidhaan, "Waanuma barbaadde na kadhadhu; ani siif nan kenna!"
jedhe. 23 Innis, "Hamma walakkaa mootummaa kootti illee waan ati na kadhattu kam
iyyuu siif nan kenna!" jedhee kakuudhaan waadaa galeef.
24 Isheenis gad baatee haadha isheetiin, "Maal kadhadhu?" jette.

Haati immoo, "Mataa Yohannis Cuuphaa" jettee deebifteef.

25 Intalattiinis yommusuma ariitiidhaan gara mootichaatti ol seentee, "Akka ati
ammuma mataa Yohannis Cuuphaa gabatee irra keessee naa kennitu nan barbaada"
jetteen.
26 Mootichis akka malee gadde; garuu sababii kakuu isaatii fi sababii warra
isa wajjin maaddiitti dhi'aataniitiif jedhee ishee diduu hin barbaanne. 27 Innis
yommusuma loltuu tokko akka inni mataa Yohannis fiduuf ajajee erge. Loltuun sunis
dhaqee mana hidhaa keessatti mataa Yohannis isa irraa kute; 28 mataa isaas gabatee
irra kaa'ee fidee intalattiitti kenne. Isheenis haadha isheetti kennite. 29 Barattoonni
Yohannisis waan kana dhageenyaan dhufanii reeffa isaa fuudhanii awwaala keessa
kaa'an.

*Yesuus Namoota Kuma Shan Sooruu Isaa*
*6:32-44 kwf – Mat 14:13-21; Luq 9:10-17; Yoh 6:5-13*
*6:32-44 kwi – Mar 8:2-9*

30 Ergamoonnis Yesuus biratti walitti qabamanii waan hojjetanii turanii fi waan
barsiisanii turan hunda isatti himan. 31 Innis, "Kophaa keessan gara iddoo namni

hin jirre tokkoo kottaatii takka boqodhaa" jedheen; isaan sababii namoonni baay'een
dhufaa, deemaas turaniif carraa itti waa nyaatan illee hin qaban tureetii.
32 Isaanis kophaa isaanii bidiruudhaan iddoo namni hin jirre tokko dhaqan.
33 Namoonni deemuu isaanii argan baay'een garuu isaan beekan; magaalaawwan
hunda keessaa ba'anii miillaan fiiganii isaan dursanii iddoo sana ga'an. 34 Yesuus
yommuu bidiruu irraa bu'etti tuuta guddaa tokko arge; innis sababii isaan akkuma
hoolota tiksee hin qabnee turaniif garaa laafeef. Kanaafuu inni waan baay'ee isaan
barsiisuu jalqabe.
35 Yeroo kanatti galgalaa'ee ture; kanaafuu barattoonni isaa gara isaa dhufanii
akkana jedhaniin; "Iddoon kun gammoojjii dha; aduunis dhiiteerti. 36 Akka isaan
gara baadiyyaatii fi gandoota naannoo kana jiranii dhaqanii waan nyaatan bitataniif
namoota kanneen gad dhiisi."
37 Inni garuu, "Isinuu waan isaan nyaatan kennaafii" jedhee deebise.
Isaanis, "Dhaqnee buddeena diinaarii dhibba lamaa binnee akka nyaataniif isaaniif
kenninuu ree?" jedhaniin.
38 Innis, "Buddeena meeqa qabdu? Mee dhaqaa ilaalaa!" jedheen.
Isaanis yommuu arganitti, "Buddeena shanii fi qurxummii lama" jedhan.
39 Yesuusis akka isaan namoota hundumaa garee gareedhaan marga lalisaa
irra teteessisan isaan ajaje. 40 Kanaafuu namoonni dhibba dhibbaa fi shantama
shantamaan garee gareedhaan tataa'an. 41 Innis buddeena shananii fi qurxummii
lamaan sana fuudhee, gara samii ol ilaalee galata galchee buddeena sana caccabse.
Akka isaan namootaaf dhi'eessaniifis barattoota isaatti kenne. Qurxummii lamaanis
hunduma isaaniitiif qoqqoode. 42 Isaan hundi nyaatanii quufan; 43 barattoonnis
hurraa'aa buddeenaatii fi qurxummii gundoo kudha lama guutuu walitti qaban.
44 Warri nyaatanis dhiira kuma shan turan.

*Yesuus Galaana Irra Deemuu Isaa*
*6:45-51 kwf – Mat 14:22-32; Yoh 6:15-21*
*6:53-56 kwf – Mat 14:34-36*

45 Yesuus yommusuma akka barattoonni isaa bidiruu yaabbatanii hamma inni
tuuta sana of irraa geggeessutti isa dura gara Beetisayidaatti darbaniif isaan dirqisiise.
46 Innis erga namoota of irraa geggeessee booddee kadhachuuf gaaratti ol ba'e.
47 Yommuu galgalaa'ettis bidiruun sun galaana walakkaa ture; Yesuus immoo
kophaa isaa lafa irra ture. 48 Innis utuu barattoonni sababii bubbeen fuula isaanii
duraan itti dhufeef bishaan mooquudhaan dhiphatanuu arge. Innis halkan keessaa
kutaa afuraffaatti galaana irra deemaa gara isaanii dhufe. Innis waan isaan bira
darbu fakkaate; 49 isaan garuu yommuu galaana irra deemuu isaa arganitti ekeraa
se'anii iyyan; 50 isaan hundi isa arganii akka malee na'aniitii.
Inni immoo, "Jabaadhaa! Anumaatii hin sodaatinaa" jedhee yommusuma isaanitti
dubbate. 51 Innis isaan wajjin bidiruu yaabbate; bubbeen sunis gab jedhe. Isaanis
akka malee dinqisiifatan; 52 isaan waa'ee buddeennan sanaa hin hubanneetii; mata
jabeeyyiis turan.
53 Isaanis yommuu gama ce'anitti Geensereexitti bidiruu irraa bu'an; bidiruu
sanas achitti hidhan. 54 Akkuma isaan bidiruu irraa bu'aniinis namoonni Yesuusin
beekan. 55 Namoonni sunis biyya sana guutuu keessa asii fi achi fiiganii iddoo
Yesuus achi jira jechuu dhaga'an hundumatti dhukkubsattoota sireedhaan baatanii
fiduu jalqaban. 56 Iddoo inni dhaqe kam illee jechuunis gandoota, magaalaawwan
yookaan baadiyyaa hundatti warra dhukkubsatan fidanii lafa gabaa kaa'an. Isaanis
akka dhukkubsattoonni sun handaara wayyaa isaa illee tuqaniif isa kadhatan; warri
handaaruma wayyaa isaa tuqan hundinuus ni fayyan.

# 7

*Waan Qulqulluu fi Waan Xuraa’aa*
*7:1-23 kwf – Mat 15:1-20*

1 Fariisotaa fi barsiistota seeraa keessaa warri Yerusaalemii dhufan tokko tokko
Yesuus biratti walitti qabamanii 2 barattoota isaa keessaa tokko tokko harka, “Hin
qulqulleeffaminiin” jechuunis utuu harka hin dhiqatin buddeena nyaachuu isaanii
argan. 3 Sababiin isaas Fariisonni, Yihuudoonni hundinuus duudhaa maanguddootaa
eeguuf jedhanii utuu harka hin dhiqatin hin nyaataniitii. 4 Yommuu gabaadhaa
galanittis utuu of hin qulqulleessin hin nyaatan. Dudhaa biraa baay’ees kan akka
xoofoo dhiquu, okkotee fi huuroo dhiquu ni eegu.

5 Kanaafuu Fariisonnii fi barsiistonni seeraa, “Barattoonni kee qooda harka
‘Hin qulqulleeffaminiin’ nyaatan maaliif akkuma duudhaa maanguddootaatti hin
jiraanne?” jedhanii Yesuusin gaafatan.

6 Innis akkana jedhee deebise; “Yaa fakkeessitoota, Isaayyaas yommuu waa’ee
keessan raajii dubbatetti sirrii ture; kunis akkuma akkana jedhamee barreeffamee
dha:
“ ‘Uumanni kun hidhii isaatiin na kabaja;
garaan isaa garuu narraa fagoo jira.
7 Isaan akkanumaan na waaqeffatu;
barsiisni isaaniis sirnuma namaa ti.’*
8 Isin ajaja Waaqaa dhiiftanii, duudhaa namootaa jabeessitanii eegdu.”

9 Innis ittuma fufee akkana jedheen; “Isin duudhaa ofii keessanii eeguuf jettanii
ajaja Waaqaa tuffachuuf mala gaarii qabdu! 10 Museen, ‘Abbaa keetii fi haadha
keetiif ulfina kenni;†namni abbaa isaa yookaan haadha isaa arrabsu kam iyyuu haa
ajjeefamu’‡jedheeraatii. 11 Isin garuu yoo namni kam iyyuu akka wanni silaa abbaa
isaa yookaan haadha isaa gargaaruuf oolu Qurbaana jechuunis Waaqaaf kennameera
jedhee dubbate, 12 isin akka inni abbaa isaatiif yookaan haadha isaatiif waan tokko
illee godhu si’achi hin eeyyamtaniif. 13 Akkanaanis duudhaa keessan isa walitti
dabarsitan sanaan dubbii Waaqaa busheessitu. Waan akkanaa baay’ees ni hojjetu.”

14 Yesuus ammas namoota sana ofitti waamee akkana jedheen; “Isin hundi na
dhaga’aa; kanas hubadhaa. 15 Waan nama keessaa ba’utu nama ‘xureessa’ malee
wanni alaa namatti seenee nama ‘xureessuu’ danda’u tokko iyyuu hin jiru. [ 16 Namni
kam iyyuu yoo gurra dhaga’u qabaate haa dhaga’u.”]§

17 Erga inni namoota biraa mana ol seenee booddee barattoonni isaa waa’ee
fakkeenya sanaa isa gaafatan. 18 Innis akkana jedhee gaafate; “Isin hin hubattanii?
Akka wanni alaa namatti seenu tokko iyyuu nama ‘xureessuu’ hin dandeenye hin
qalbeeffattanii? 19 Wanni sun garaa isaa seenee ergasii dhagna isaa keessaa gad ba’a
malee yaada garaa*isaa hin seenuutii.” Yesuusis kana jechuudhaan akka nyaanni
hundinuu qulqulluu ta’e labse.

20 Innis itti fufee akkana jedhe: “Wanni nama ‘xureessu’ waan nama keessaa
ba’uu dha. 21 Yaadni hamaan keessa namaatii, garaa namaa keessaa ba’aatii; innis
halalummaa, hanna, nama ajjeesuu, ejja, 22 doqnummaa, hammina, gowwoomsaa,
jireenya gad dhiisii, hinaaffaa, maqaa nama balleessuu, of tuulummaa fi gowwum-
maa. 23 Wantoonni hamoon kunneen hundinuu nama keessaa ba’u; namas ‘ni
xureessu.’ ”

---

* **7:7** 7:7 Isa 29:13 † **7:10** 7:10 Bau 20:12; KeD 5:16 ‡ **7:10** 7:10 Bau 21:17; Lew 20:9 § **7:16** 7:16 Waraabbileen durii tokko tokko luqqisaa kana hin qaban. * **7:19** 7:19 Akka hubannaa Yihuudootaatti yaadni garaa eenyummaa nama tokkoo guutummaatti argisiisa.

### *Amantii Dubartii Tokkoo*
*7:24-30 kwf – Mat 15:21-28*

24 Yesuus iddoo sanaa ka'ee aanaa Xiiroositti qajeele. Mana tokkos ol seene; innis
akka namni tokko iyyuu achi jiraachuu isaa beeku hin barbaanne; garuu dhokachuu
hin dandeenye. 25 Dubartiin intalli ishee hafuura xuraa'aan qabamte tokko akkuma
waa'ee isaa dhageesseen dhuftee miilla isaa irratti kufte. 26 Dubartittiinis nama Giriik,
kan biyya Sooriyaa keessatti Finiiqeetti dhalatee dha. Isheen akka inni intala ishee
keessaa hafuura hamaa sana baasuuf Yesuusin kadhatte.
27 Innis, "Dura ijoolleen haa quuftu; buddeena ijoollee fuudhanii saroota dura
buusuun sirrii miti" jedheen.
28 Isheen garuu, "Eeyyee yaa Gooftaa, saroonni iyyuu maaddii jalaa hambaa
ijoolleen harcaaftu nyaatuu" jettee deebifteef.
29 Yesuusis, "Jecha kee kanaaf gali; hafuurri hamaan sun intala kee keessaa ba'eera"
jedheen.
30 Isheenis yommuu manatti galtetti intalli ishee siree irra ciiftee, hafuurri hamaan
sunis keessaa ba'ee argatte.

### *Namichi Duudaa fi Arrab-didaan Tokko Fayyuu Isaa*
*7:31-37 kwf – Mat 15:29-31*

31 Ergasiis Yesuus biyya Xiiroosiitii ka'ee Siidoonaa keessa darbee, kutaa Magaalaa
Kurnanii keessa ba'ee gara galaana Galiilaa dhufe. 32 Jarri tokkos namicha gurra
duudaa fi arrab-didaa tokko isatti fidanii akka inni harka isa irra kaa'uuf kadhatan.
33 Yesuusis namicha sana tuuta keessaa kophaatti baasee quba isaa gurra namichaa
keessa kaa'e. Hancufa tufees arraba namichaa tuqe. 34 Gara samiis ol ilaalee,
hafuura guddaa baafatee, *"Eftaah!"* jedheen; kana jechuunis "Banami!" jechuu
dha. 35 Gurri namichaas yommusuma baname; arrabni isaas hiikamee rakkina tokko
malee dubbachuu jalqabe.
36 Yesuusis akka isaan nama tokkotti illee hin himneef namoota sana ajaje.
Hammuma inni cimsee isaan ajaje sana, isaanis ittuma caalchisanii odeessan.
37 Warri oduu sana dhaga'anis akka malee dinqifatanii, "Inni waan hunda gaarii
godheera; warri duudaanis akka dhaga'an, warri arrabni isaanii dubbachuu dides
akka dubbatan ni godha" jedhan.

# 8

### *Yesuus Nama Kuma Afur Sooruu Isaa*
*8:1-9 kwf – Mat 15:32-39*
*8:1-9 kwi – Mar 6:32-44*
*8:11-21 kwf – Mat 16:1-12*

1 Gidduu sana tuunni biraa guddaan isaa ammas walitti qabame. Yesuusis sababii
tuunni sun waan nyaatu hin qabaatiniif barattoota isaa ofitti waamee akkana jedhe;
2 "Sababii isaan guyyaa sadii na bira turanii waan nyaatan tokko illee hin qabneef,
ani namoota kanneeniif garaa nan laafa. 3 Yoo ani agabuu isaanii gad isaan dhiise,
isaan karaa irratti ni gaggabu; isaan keessaa tokko tokko fagoodhaa dhufaniitii."
4 Barattoonni isaas deebisanii, "Namni kam iyyuu gammoojjii kana keessatti
buddeena isaan ga'u eessaa argachuu danda'a?" jedhan.
5 Yesuus immoo, "Isin buddeena meeqa qabdu?" jedhee gaafate.
Isaanis, "Torba" jedhan.
6 Innis akka namoonni sun lafa tataa'an itti hime. Buddeena torban fuudhee erga
galateeffatee booddee kukkutee akka isaan namootaaf dhi'eessaniif barattoota isaatti
kenne; isaanis namootaaf dhi'eessan. 7 Akkasumas qurxummii xixinnoo muraasa
qabu turan; qurxummii sanas eebbisee akka isaan namootaaf hiraniif barattoota

isaatti hime. 8 Namoonnis nyaatanii quufan. Ergasiis barattoonni hambaa gundoo
torba guutuu walitti qaban. 9 Isaanis gara nama kuma afurii turan. Innis erga of irraa
isaan geggeessee booddee, 10 barattoota isaa wajjin yommusuma bidiruu yaabbatee
biyya Daalmaanutaa dhaqe.
11 Fariisonnis dhufanii Yesuusitti falmuu jalqaban; isa qoruuf jedhaniis mallattoo
samii irraa isa irraa barbaadan. 12 Innis hafuura dheeraa baafatee, "Dhaloonni kun
maaliif mallattoo barbaada? Ani dhuguma isinitti hima; mallattoon tokko iyyuu
dhaloota kanaaf hin kennamu" jedheen. 13 Innis isaan dhiisee bidiruutti deebi'ee
gama ce'e.

### *Raacitii Fariisotaa*

14 Barattoonnis buddeena tokkicha bidiruu keessaa of biraa qaban sana malee bud-
deena fudhachuu irraanfatanii turan. 15 Yesuusis, "Beekkadhaa; raacitii Fariisotaatii
fi raacitii Heroodis irraa of eeggadhaa" jedhee isaan akeekkachiise.
16 Isaanis, "Kun sababii nu buddeena hin qabneef" jedhanii walii wajjin haasa'an.
17 Yesuusis waan isaan haasa'an beekee akkana jedhee isaan gaafate; "Isin maaliif
waa'ee buddeena dhabuu keessanii dudubbattu? Isin amma iyyuu hin argitanii?
Yookaan hin hubattanii? Mataa jabaattanii? 18 Isin utuma ija qabdanuu hin argitanii?
Utuma gurra qabdanuus hin dhageessanii? Hin yaadattanii? 19 Yeroo ani buddeena
shanan sana nama kuma shaniif caccabsetti isin hurraa'aa gundoo meeqa guutuu
kaaftan?"
Isaanis, "Kudha lama" jedhaniin.
20 Innis, "Yeroo ani buddeena torba nama kuma afuriif caccabsetti hambaa gundoo
meeqa guutuu walitti qabdan?" jedhee gaafate.
Isaanis, "Torba" jedhaniin.
21 Innis, "Isin amma iyyuu hin hubattanii?" jedheen.

### *Yesuus Beetisayidaatti Nama Jaamaa Fayyise*

22 Isaanis Beetisayidaa dhaqan; jarri tokkos namicha jaamaa tokko fidanii akka
inni isa qaqqabuuf Yesuusin kadhatan. 23 Innis namicha jaamaa sana harka qabee
ganda sana keessaa baase. Ija isaattis tufee, harka isaas irra kaa'ee, "Waa arguu
dandeessaa?" jedhee gaafate.
24 Namichis ol ilaalee, "Namoota nan arga; isaan muka deemu natti fakkaatu" jedhe.
25 Yesuus amma illee harka isaa ija namichaa irra kaa'e. Iji namichaas ni baname;
agartuun isaa ni deebi'eef; waan hundas sirriitti arge. 26 Yesuusis namichaan, "Gara
ganda sanaa seentee waan kana nama tokkotti illee hin himin" jedhee gara mana
isaatti isa erge.

### *Phexros Eenyummaa Kiristoos Beeksise*
*8:27-29 kwf – Mat 16:13-16; Luq 9:18-20*

27 Yesuusii fi barattoonni isaa gara gandoota naannoo Fiiliphoos Qiisaariyaa
jiraniitti darban. Innis, "Namoonni anaan eenyu jedhu?" jedhee karaa irratti isaan
gaafate.
28 Isaanis, "Namoonni tokko tokko, 'Inni Yohannis Cuuphaa dha' jedhu; warri
kaan, 'inni Eeliyaas' jedhu; kaan immoo, 'inni raajota keessaa isa tokkoo dha' jedhu"
jedhanii deebisan.
29 Innis, "Isin eenyu anaan jettu?" jedhee gaafate.
Phexrosis, "Ati Kiristoos" jedhee deebise.
30 Yesuusis akka isaan waa'ee isaa nama tokkotti illee hin himneef isaan
akeekkachiise.

### *Yesuus Duraan Dursee Waa'ee Du'a Isaa Dubbate*
*8:31–9:1 kwf – Mat 16:21-28; Luq 9:22-27*

31 Yesuusis akka Ilmi Namaa waan hedduun dhiphachuu qabu, akka maangud-
dootaan, luboota hangafootaa fi barsiistota seeraatiin tuffatamuu qabuu fi akka
ajjeefamuu qabu, guyyaa sadii booddee immoo akka du'aa ka'u isaan barsiisuu
jalqabe. 32 Innis waa'ee kanaa ifatti baasee dubbate; Phexrosis kophaatti baasee isa
ifachuu jalqabe.
33 Yesuus garuu of irra garagalee barattoota isaa ilaale; Phexrosiinis, "Seexana
nana! Na duubatti deebi'i! Ati kan namaa yaadda malee kan Waaqaa hin yaadduutii"
jedhee ifate.

*Haala Karraa Fannoo*

34 Ergasii inni tuuta sanaa fi barattoota isaa ofitti waamee akkana jedhe; "Namni
kam iyyuu yoo na faana dhufuu barbaade, inni of haa ganu; fannoo isaa baadhatees
na duukaa haa bu'u. 35 Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu kam iyyuu lubbuu
isaa ni dhabaatii; garuu namni anaa fi wangeelaaf jedhee lubbuu isaa dhabu kam
iyyuu lubbuu isaa ni oolfata. 36 Namni yoo addunyaa guutuu argatee lubbuu isaa
immoo dhabe bu'aa maalii argata? 37 Yookaan namni qooda lubbuu isaa maal
kennuu danda'a? 38 Yoo namni kam iyyuu dhaloota ejjaa fi cubbamaa kana keessatti
anaa fi dubbii kootti qaana'e, Ilmi Namaa yommuu ulfina Abbaa isaatiin ergamoota
qulqulluu wajjin dhufutti isatti ni qaana'a."

# 9

1 Innis, "Ani dhuguman isinitti hima; warra as dhadhaabachaa jiran keessaa
namoonni tokko tokko hamma mootummaan Waaqaa humnaan dhufee arganitti du'a
hin dhandhaman" isaaniin jedhe.

*Bifti Yesuus Geeddaramuu Isaa*
*9:2-8 kwf – Luq 9:28-36*
*9:2-13 kwf – Mat 17:1-13*

2 Yesuus guyyaa ja'a booddee Phexrosin, Yaaqoobii fi Yohannisin fudhatee tulluu
dheeraa* tokkotti iddoo isaan hundi kophaa turuu danda'anitti ol isaan baase. Innis
achitti fuula isaanii duratti geeddarame. 3 Uffanni isaas uffata namni addunyaa
kanaa kam iyyuu miicee addeessuu danda'u caalaa akka malee addaate. 4 Eeliyaasii
fi Museenis isaanitti mul'atan; isaanis Yesuus wajjin haasa'aa turan.
5 Phexrosis Yesuusiin, "Yaa Barsiisaa, as jiraachuun nuuf gaarii dha; daasii sadii,
tokko siif, tokko Museef, tokko immoo Eeliyaasiif ni ijaarra" jedhe. 6 Inni waan
dubbatu hin beeku ture; isaan akka malee sodaatanii turaniitii.
7 Duumessis† dhufee isaan haguuge; sagaleen, "Kun Ilma koo isa ani jaalladhuu
dha. Isinis isa dhaga'aa!" jedhu tokko duumessicha keessaa dhufe.
8 Isaanis yommuu akkuma tasaa naannoo isaanii ilaalanitti Yesuusin malee nama
tokko illee of biratti hin argine.
9 Utuu tulluu sana irraa bu'uutti jiranuus Yesuus akka isaan hamma Ilmi Namaa
warra du'an keessaa ka'utti waan argan sana nama tokkotti illee hin himne isaan
ajaje. 10 Isaanis "warra du'an keessaa ka'uun" maal akka ta'e wal gaggaafachaa
dubbicha garaatti qabatan.
11 Isaanis, "Barsiistonni seeraa maaliif Eeliyaas akka duraan dursee dhufuu qabu
dubbatu?" jedhanii isa gaafatan.
12 Yesuus akkana jedhee deebise; "Dhugumaan Eeliyaas duraan dursee ni dhufa;
waan hundas iddootti deebisa. Yoos maaliif Ilmi Namaa akka malee dhiphachuu fi
tuffatamuu qaba jedhamee barreeffame ree? 13 Ani garuu isinittin hima; Eeliyaas

* **9:2** 9:2 Akka hubannaa Yihuudootaatti tulluun ol dheeraan iddoo mijaa'aa itti Waaqni namatti of mul'isuu dha. † **9:7** 9:7 Duumessi argamuu Waaqaa mul'isa (Bau 13:21-22; 16:10; 19:9; 2Sn 5:13-14).

dhufeera; isaanis akkuma waa'ee isaa barreeffame sanatti waanuma fedhan hunda
isatti hojjetan."

### *Gurbaan Hafuura Xuraa'aadhaan Qabame Tokko Fayye*
### *9:14-28,30-32 kwf – Mat 17:14-19,22,23; Luq 9:37-45*

14 Isaanis yommuu gara barattoota kaanii dhufanitti, namoonni hedduun isaanitti
naanna'anii, barsiistonni seeraa immoo utuu isaanitti falmanuu argan. 15 Namoonni
hundinuus akkuma Yesuusin arganiin akka malee dinqifatanii isa dubbisuudhaaf itti
fiigan.
16 Innis, "Isin maal isaanitti falmitu?" jedhee isaan gaafate.
17 Namoota sana keessaas namichi tokko akkana jedhee deebise; "Yaa barsiisaa,
ani ilma koo kan hafuura arraba didaadhaan qabame sitti fideera. 18 Hafuurichi
yeroo itti ka'u kam iyyuu, darbatee lafaan isa dha'a. Gurbichis hoomacha afaaniin
baasa; ilkaan qara; ni kokottaa'as. Ani akka hafuura sana baasaniif barattoota kee
nan gaafadhe; isaan garuu hin dandeenye."
19 Yesuusis deebisee, "Isin dhaloota hin amanne nana; ani hamma yoomiittin isin
wajjin jiraadha? Hamma yoomiittis ani isinii obsa? Mee gurbicha natti fidaa" jedhe.
20 Isaanis gurbicha isatti fidan. Hafuurichis akkuma Yesuusin argeen gurbicha
dhidhiitachiise; gurbichis lafa dha'ee hoomacha afaaniin baasee gangalate.
21 Yesuusis, "Wanni kun erga isa qabee hammam ture?" jedhee abbaa gurbichaa
gaafate.
Innis akkana jedhe; "Ijoollummaadhaa jalqabee ti. 22 Isa ajjeesuuf jedhees yeroo
baay'ee ibidda keessa yookaan bishaan keessa isa buuseera. Ati garuu yoo waanuma
tokko illee gochuu dandeesse garaa nuu laafiitii nu gargaari."
23 Yesuusis, " 'Yoo dandeesse' jettaa? Nama amanuuf wanni hundi ni danda'ama"
jedheen.
24 Yommusuma abbaan mucaa sanaa, "Ani nan amana; amantii dhabuu koo na
gargaari" jedhee iyye.
25 Yesuusis yommuu namoota girrisanii dhufan argetti, "Yaa hafuura duudaa fi
arrab-didaa nana, akka ati isa keessaa baatu, deebitees akka isatti hin galle sin ajaja"
jedhee hafuura xuraa'aa sana ifate.
26 Hafuurri sun iyyee, akka malees isa dhidhiitachiisee keessaa ba'e. Gurbichis
akkuma reeffaa ta'e; namoonni baay'eenis, "Inni du'eera" jedhan. 27 Yesuus garuu
harka qabee ol isa kaase; gurbaan sunis ka'ee dhaabate.
28 Erga Yesuus manatti ol galee booddee barattoonni isaa, "Nu maaliif hafuura
hamaa sana baasuu dadhabne?" jedhanii kophaatti isa gaafatan.
29 Innis deebisee, "Inni akkanaa kun kadhannaa fi sooma qofaan ba'a malee waan
biraatiin hin ba'u" jedheen.
30 Isaan achii ka'anii Galiilaa keessa darban. Yesuusis akka namni tokko iyyuu kana
beeku hin barbaanne; 31 sababiin isaas, "Ilmi Namaa dabarfamee harka namootaatti
ni kennama. Isaanis isa ni ajjeesu; innis guyyaa sadii booddee du'aa ni ka'a" jedhee
barattoota isaa barsiisaa ture. 32 Isaan garuu waan inni jedhe hin hubanne; isa
gaafachuus ni sodaatan.

### *Namni Nama Hundumaa Caalu Eenyu?*
### *9:33-37 kwf – Mat 18:1-5; Luq 9:46-48*

33 Isaanis Qifirnaahom dhaqan. Innis yeroo mana keessa turetti, "Isin karaatti
maal walitti falmaa turtan?" jedhee isaan gaafate. 34 Isaan garuu eenyu akka nama
hundumaa caalu karaatti waan walitti falmaa turaniif ni cal'isan.

35 Yesuusis taa'ee warra kudha lamaan waamee, "Namni nama jalqabaa ta'uu barbaadu kam iyyuu nama hundaa gadii fi tajaajilaa nama hundaa ta'uu qaba" jedheen.
36 Innis mucaa xinnaa tokko fidee isaan gidduu dhaabe. Hammatees akkana isaaniin jedhe; 37 "Namni ijoollee xixinnoo kanneen keessaa tokko maqaa kootiin simatu kam iyyuu na simata; namni na simatu kam iyyuus isa na erge sana simata malee na qofa hin simatu."

*Namni Nuun Hin Mormine Kam iyyuu Garee keenya*
*9:38-40 kwf – Luq 9:49,50*

38 Yohannisis, "Yaa barsiisaa, nu utuu namni tokko maqaa keetiin hafuurota hamoo baasuu arginee waan inni nu duukaa hin buuneef isa dhowwine" jedhe.
39 Yesuus garuu akkana jedhe; "Isa hin dhowwinaa; namni maqaa kootiin dinqii hojjetu kan ergasii immoo dafee waa'ee koo waan hamaa dubbachuu danda'u tokko iyyuu hin jiruutii. 40 Namni nuun hin mormine kam iyyuu kanuma keenyaatii. 41 Ani
dhuguman isinitti hima; namni sababii isin kan Kiristoos taataniif jedhee bishaan budduuqsaa tokkoo isinii kennu kam iyyuu dhugumaan gatii isaa hin dhabu.

*Cubbuu Nama Hojjechiisuu*

42 "Namni kam iyyuu warra natti amanan xixinnaa kanneen keessaa tokko gufachiisuu irra, utuu dhagaan daakuu guddaan isaa morma isaatti hidhamee galaanatti darbatamee isaaf wayya ture. 43 Yoo harki kee si gufachiise, of irraa muri.
Harka lama qabaattee gahaannamitti, iddoo ibiddi isaa hin dhaamnetti galuu irra, harka dooluudhaan jireenyatti galuu siif wayya. [ 44 Gahaannamis iddoo,
" 'raammoon isaanii hin duune,
ibiddis hin dhaamnee dha.']‡
45 Yoo miilli kee si gufachiise of irraa muri. Miilla lama qabaattee gahaannamitti darbatamuu irra, laamshoftee jireenyatti galuu siif wayya. [ 46 Gahaannamis iddoo,
" 'raammoon isaanii hin duune,
ibiddis hin dhaamnee dha.']§
47 Yoo iji kee si gufachiise, of keessaa baasi. Ija lama qabaattee gahaannamiitti darbatamuu irra ija tokkoon mootummaa Waaqaatti galuu siif wayya. 48 Gahaannamis iddoo,
" 'raammoon isaanii hin duune,
ibiddis hin dhaamnee dha.'*
49 Namni hundinuu ibiddaan mi'eeffama.†
50 "Soogiddi gaarii dha; garuu yoo mi'aa isaa dhabe, mi'aa isaa akkamiin deebisuufii dandeessu? Isinis soogidda of keessaa qabaadhaa; walii wajjinis nagaan jiraadhaa."

# 10

*Wal Hiikuu Dhirsaa fi Niitii*
*10:1-12 kwf – Mat 19:1-9*

1 Yesuusis achii ka'ee gara biyya Yihuudaatii fi Yordaanos gamaa dhaqe. Amma illee namoonni isa biratti walitti qabaman; innis akkuma bartee isaatti isaan barsiise.
2 Fariisonni dhufanii, "Namni tokko niitii isaa hiikuun ni eeyyamamaa?" jedhanii gaafachuudhaan isa qoran.

‡ **9:44** 9:44 Kutaan kun waraabbilee tokko tokko keessatti hin argamu. § **9:46** 9:46 Kutaan kun waraabbilee tokko tokko keessatti hin argamu. * **9:48** 9:48 Isa 66:24 † **9:49** 9:49 Mi'eeffama (qulqulleeffama) – jechi kun mi'aa soogidda irraa argamu mul'isa. Namoonni durii akka aarsaan tokko fuula Waaqaa duratti fudhatama argatuuf jechuunis aarsaa qulqulleessuuf soogiddatti fayyadamaa turan (Lew 2:13; His 43:24).

3 Innis deebisee, “Museen maal isin ajaje?” jedheen.
4 Isaanis, “Namni tokko akka waraqaa ragaa hiikkaa barreesseefii niitii isaa hiiku
Museen eeyyameera” jedhan.
5 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Museen sababii mata jabina keessaniitiif jedhee
seera kana isiniif barreesse. 6 Jalqaba uumamaatii kaasee garuu Waaqni, ‘Dhiiraa fi
dubartii isaan taasise.’* 7 ‘Kanaafis namni abbaa isaatii fi haadha isaa ni dhiisa; niitii
isaa wajjinis tokko ta’a; 8 lamaan isaanii iyyuu foon tokko ni ta’u.’†Egaa isaan si’achi
foon tokko malee lama miti. 9 Kanaafuu waan Waaqni tokko taasise namni gargar
hin baasin.”
10 Utuu ammas mana jiranuu barattoonni waa’ee dubbii kanaa Yesuusin gaafatan.
11 Innis akkana jedhee deebiseef; “Namni niitii isaa hiikee dubartii biraa fuudhu kam
iyyuu ishee irratti ejja raawwata. 12 Isheenis yoo dhirsa ishee hiiktee nama biraatti
heerumte ejja raawwatti.”

### *Yesuus Ijoollee Eebbisuu Isaa*
*10:13-16 kwf – Mat 19:13-15; Luq 18:15-17*

13 Namoonni akka inni harka isaan irra kaa’uuf ijoollee xixinnoo Yesuusitti fidaa
turan; barattoonni garuu isaan ifatan. 14 Yesuus yommuu waan kana argetti aaree
akkana isaaniin jedhe; “Ijoolleen xixinnoon gara koo haa dhufaniitii hin dhowwinaa;
mootummaan Waaqaa kan warra akkanaatii. 15 Ani dhuguman isinitti hima; namni
akkuma ijoolleetti mootummaa Waaqaa hin simanne kam iyyuu gonkumaa itti hin
galu.” 16 Innis ijoollee sana fuudhee ofitti qabe; harka isaas isaan irra kaa’ee isaan
eebbise.

### *Dargaggeessa Sooressa Tokko*
*10:17-31 kwf – Mat 19:16-30; Luq 18:18-30*

17 Akkuma Yesuus deemuuf karaa qabateen namichi tokko fiigaa dhufee fuula isaa
duratti jilbeenfatee, “Yaa barsiisaa gaarii, ani jireenya bara baraa dhaaluuf maal
gochuun qaba?” jedhee gaafate.
18 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Ati maaliif gaarii naan jetta? Waaqa tokkicha
malee gaariin hin jiru. 19 Ati ajajawwan ni beekta; ‘Hin ajjeesin; hin ejjin; hin hatin;
sobaan dhugaa hin ba’in; hin gowwoomsin; abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina
kenni.’‡”
20 Namichis, “Yaa barsiisaa, ani ijoollummaa kootii jalqabee ajajawwan kanneen
hunda eegeera” jedhe.
21 Yesuus namicha ilaalee isa jaallatee, “Waan tokkotu si duraa hir’ata; dhaqiitii
waan qabdu hunda gurgurii hiyyeeyyiif kenni; samii irratti badhaadhummaa ni
qabaattaa. Ergasii kottuu na duukaa bu’i” jedheen.
22 Kana irratti fuulli namichaa ni geeddarame. Inni gaddee achii deeme; qabeenya
guddaa qaba tureetii.
23 Yesuusis naannoo isaa ilaalee barattoota isaatiin, “Mootummaa Waaqaatti galuun
sooreyyiif akkam rakkisaa dha!” jedhe.
24 Barattoonnis dubbii isaa ni dinqisiifatan. Yesuus garuu ammas akkana jedheen;
“Ijoolle, mootummaa Waaqaatti galuun akkam rakkisaa dha! 25 Namni sooressi
mootummaa Waaqaatti galuu irra qaawwa lilmoo keessa ba’uutu gaalaaf salphata.”
26 Barattoonnis akka malee raajeffatanii, “Yoos eenyutu fayyuu danda’a ree?”
waliin jedhan.
27 Yesuusis isaan ilaalee, “Kun garuu Waaqaaf malee namaaf hin danda’amu;
Waaqaaf wanni hundinuu ni danda’amaatii” jedhe.

---

* **10:6** 10:6 Uma 1:27 † **10:8** 10:8 Uma 2:24 ‡ **10:19** 10:19 Bau 20:12; KeD 5:16-20

28 Kana irratti Phexros, “Kunoo, nu waan hunda dhiifnee si duukaa buuneerra!”
jedhe.

29 Yesuusis deebisee akkana jedheen; “Ani dhuguma isinitti nan hima; namni anaa
fi wangeelaaf jedhee mana yookaan obboloota yookaan obboleettota yookaan haadha
yookaan abbaa yookaan ijoollee yookaan lafa qotiisaa dhiise kam iyyuu, 30 kan bara
ammaa kana keessa ari’atama wajjin manneen, obboloota, obboleettota, haadhota,
ijoollee fi lafa qotiisaa dachaa dhibba hin arganne, kan bara dhufuttis jireenya bara
baraa hin dhaalle tokko iyyuu hin jiru. 31 Garuu warri jalqabaa hedduun warra
dhumaa, warri dhumaa immoo warra jalqabaa ni ta’u.”

### *Yesuus Ammas Waa’ee Du’a Isaa Duraan Dursee Dubbate*
*10:32-34 kwf – Mat 20:17-19; Luq 18:31-33*

32 Isaanis Yerusaalemitti ol ba’uuf jedhanii karaa irra turan; Yesuus immoo isaan
dura deemaa ture; barattoonnis ni dinqisiifatan; warri duukaa bu’aa turan immoo
ni sodaatan. Yesuus amma illee warra kudha lamaan kophaatti baasee waan isatti
dhufuuf jiru isaanitti hime. 33 Akkanas jedhe; “Kunoo, nu Yerusaalemitti ol ba’aa
jirra; Ilmi Namaas dabarfamee luboota hangafootattii fi barsiistota seeraatti ni
kennama. Isaanis du’a itti muru; akkasumas dabarsanii Namoota Ormaatti isa kennu;
34 isaanis isatti qoosu; isatti tufu; isa garafu; isa ajjeesus. Inni garuu guyyaa sadii
booddee du’aa ni ka’a.”

### *Kadhaa Yaaqoobii fi Yohannis*
*10:35-45 kwf – Mat 20:20-28*

35 Ilmaan Zabdewoos jechuunis Yaaqoobii fi Yohannis gara Yesuus dhufanii, “Yaa
Barsiisaa, akka ati waan nu si kadhannu kam iyyuu nuu gootu barbaanna” jedhan.

36 Innis, “Akka ani maal isiniif godhu barbaaddu?” jedheen.

37 Isaanis deebisanii, “Yeroo ulfina keetiitti, tokkoon keenya mirga keetiin, tokkoon
keenya immoo bitaa keetiin akka teenyuuf nuuf eeyyami” jedhanii deebisan.

38 Yesuusis, “Isin waan kadhattan hin beektan; xoofoo ani dhugu, dhuguu yookaan
cuuphaa ani cuuphamu, cuuphamuu ni dandeessuu?” jedheen.

39 Isaanis, “Ni dandeenya” jedhanii deebisan.

Yesuusis akkana jedheen; “Xoofoo ani dhugu ni dhugdu; cuuphaa ani cuuphamus
ni cuuphamtu; 40 garuu mirga koo yookaan bitaa koo taa’uu kan kennu ana miti.
Iddoon kun kan warra isaaniif jedhamee qopheeffame sanaa ti.”

41 Warri kurnan yommuu waan kana dhaga’anitti Yaaqoobii fi Yohannisitti aaran.
42 Yesuusis walitti isaan waamee akkana jedhe; “Isin akka warri akka bulchitoota
Namoota Ormaatti ilaalaman sun isaan irratti gooftummaa mul’isan, gurguddoonni
isaaniis akka isaan irratti taayitaa argisiisan ni beektu. 43 Isin biratti akkas
miti. Qooda kanaa namni isin keessaa nama guddaa ta’uu barbaadu kam iyyuu
tajaajilaa keessan ta’uu qaba; 44 namni nama jalqabaa ta’uu barbaadu kam iyyuu
garbicha nama hundaa ta’uu qaba. 45 Ilmi Namaa iyyuu tajaajiluu fi lubbuu isaa
immoo namoota baay’eedhaaf furii godhee kennuuf dhufe malee tajaajilamuuf hin
dhufneetii.”

### *Iji Barxiimewos Banamuu Isaa*
*10:46-52 kwf – Mat 20:29-34; Luq 18:35-43*

46 Isaanis Yerikoo dhufan. Utuu Yesuus barattoota isaatii fi tuuta namootaa guddaa
isaa wajjin Yerikoodhaa ba’aa jiruu, namichi jaamaan Barxiimewos jedhamu ilmi
Ximeewos karaa irra taa’ee kadhachaa ture. 47 Barxiimewosis yommuu akka inni
Yesuus isa Naazreeti ta’e dhaga’etti, “Yesuus, yaa ilma Daawit na maari!” jedhee
iyyuu jalqabe.

48 Namoonni baay'een akka inni cal'isuuf ifatan; inni garuu, "Yaa ilma Daawit na
maari!" jedhee ittuma caalchisee iyye.
49 Yesuusis dhaabatee, "Isa waamaa" jedhe.
Isaanis, "Jabaadhu! Ka'i inni si waamaatii" jedhanii namicha jaamaa sana
waaman. 50 Innis wayyaa isaa of irraa darbatee, utaalee ka'ee gara Yesuus dhufe.
51 Yesuusis, "Akka ani maal siif godhu barbaadda?" jedhee isa gaafate.
Namichi jaamaan sunis, "Yaa barsiisaa, ani arguun barbaada" jedheen.
52 Yesuusis, "Amantiin kee si fayyiseeraa deemi" jedheen. Innis yeruma sana argee
karaa irra bu'ee Yesuus duukaa bu'e.

# 11

*Yesuus Akka Mootiitti Yerusaalem Seenuu Isaa*
*11:1-10 kwf – Mat 21:1-9; Luq 19:29-38*
*11:7-10 kwf – Yoh 12:12-15*

1 Akkuma isaan Yerusaalemitti dhi'aatanii, Beetfaagee fi Biitaaniyaa kanneen
Tulluu Ejersaa biraa sana ga'aniin Yesuus Barattoota isaa keessaa lama erge;
2 akkanas isaaniin jedhe; "Gara ganda fuula keessan dura jiru sanaa dhaqaa; akkuma
achi seentaniinis, ilmoo harree kan namni tokko iyyuu takkumaa hin yaabbatin tokko
achitti hidhamee jiru ni argattu; isa hiikaatii as fidaa. 3 Yoo namni tokko iyyuu,
'Isin maaliif waan kana gootu?' jedhee isin gaafate, 'Gooftaatu isa barbaada; dafees
deebisee ni erga' jedhaa."
4 Isaanis dhaqanii ilmoo harree kan balbala duratti, karaa irratti hidhame tokko
argan. Akkuma isaan hiikaniinis, 5 namoonni achi dhadhaabachaa turan tokko
tokko, "Maal gochuuf ilmoo harree sana hiiktu?" jedhanii isaan gaafatan. 6 Isaanis
akkuma Yesuus isaaniin jedhe sanatti deebisaniif; namoonni sunis akka isaan deeman
isaan dhiisan. 7 Ilmoo harree sanas Yesuusitti fidan; uffata isaaniis ilmoo harree
irra buusan; innis irra taa'e. 8 Namoonni baay'een uffata isaanii karaa irra afan;
warri kaan immoo dameewwan baala qaban kanneen alaa kukkutan sana karaa irra
bubuusan. 9 Warri dura deemaa turanii fi warri duukaa bu'aa turan iyyanii akkana
jedhan;
"Hoosaa'inaa!"[*]

"Inni maqaa Gooftaatiin dhufu eebbifamaa dha!"[†]

10 "Mootummaan abbaa keenya Daawit inni dhufu sun eebbifamaa dha!"

"Hoosaa'inaa ol gubbaatti!"
11 Yesuusis Yerusaalem seenee mana qulqullummaatti ol gale. Gara galees waan
hundumaa ilaale; sababii galgalaa'ee tureefis warra Kudha Lamaan wajjin ba'ee
Biitaaniyaa dhaqe.

*Yesuus Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu Isaa*
*11:12-14 kwf – Mat 21:18-22*
*11:15-18 kwf – Mat 21:12-16; Luq 19:45-47; Yoh 2:13-16*

12 Guyyaa itti aanutti utuu Biitaaniyaadhaa ba'anuu Yesuus beela'e. 13 Innis muka
harbuu baala qabu tokko fagootti argee ija qabaachuu fi qabaachuu baachuu isaa
ilaaluu dhaqe. Garuu waan yeroon sun waqtii harbuu hin ta'iinif inni yommuu
muka sana bira ga'etti baala malee waa tokko illee hin arganne. 14 Yesuusis muka

[*] **11:9** 11:9 Hoosaa'inaa! Hosaa'inaa jechuun, "Amma fayyisi!" yookaan "Maaloo fayyisi!" jechuu dha. [†] **11:9** 11:9 Far 118:25,26

sanaan, “Namni tokko iyyuu deebi’ee ija sirraa hin nyaatin” jedhe. Barattoonni isaas
ni dhaga’an.
15 Yommuu Yerusaalem ga’anittis Yesuus mana qulqullummaa seenee warra achitti
bitatanii fi gurguratan ari’uu jalqabe. Minjaala warra maallaqa geeddarataniitii fi
barcuma warra gugee gurguratanii garagalche. 16 Akka namni tokko iyyuu waan
tokko illee baatee mana qulqullummaa keessa darbus hin eeyyamne. 17 Innis
akkana jedhee isaan barsiise; “ ‘Manni koo saba hundumaaf mana kadhannaa ni
jedhama’‡jedhamee hin barreeffamnee? Isin garuu ‘Holqa saamtotaa’§gootaniirtu.”
18 Luboonni hangafoonnii fi barsiistonni seeraa waan kana dhaga’anii karaa ittiin
isa ajjeesan barbaaduu jalqaban; isaan sababii namoonni hundinuu barsiisa isaa
dinqisiifataniif isa sodaatanii turaniitii.
19 Isaanis yommuu galgalaa’etti magaalaa sana keessaa ba’an.

### *Mukti Harbuu Goguu Isaa*
*11:20-24 kwf – Mat 21:19-22*

20 Isaanis ganamaan utuu karaa sana darbanuu akka mukti harbuu sun hidda
isaatii jalqabee goge argan. 21 Phexrosis yaadatee Yesuusiin, “Yaa barsiisaa ilaa!
Harbuun ati abaarte sun gogeera!” jedhe.
22 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Waaqatti amanaa. 23 Ani dhuguman
isinitti hima; eenyu iyyuu yoo tulluu kanaan ‘Buqqa’iitii galaanatti darbatami’ jedhe,
yoo garaa isaattis mamuu baatee akka wanni inni jedhe sun ta’u amane, wanni sun ni
ta’aaf. 24 Kanaafuu ani isinittin hima; waan kadhannaadhaan gaafattan hunda akka
argattan amanaa; innis isiniif ni ta’a. 25 Yeroo kadhachuuf dhaabattan, akka Abbaan
keessan inni samii irraa cubbuu keessan isiniif dhiisuuf, isinis yoo waanuma tokko
illee nama kam iyyuu irraa qabaattan dhiisaafii. [ 26 Yoo dhiisuufii baattan garuu
Abbaan keessan inni samii irraas cubbuu keessan isiniif hin dhiisu.”]*

### *Taayitaan Yesuus Gaaffii Uume*
*11:27-33 kwf – Mat 21:23-27; Luq 20:1-8*

27 Isaanis deebi’anii gara Yerusaalem dhufan; utuu Yesuus mana qulqullummaa
keessa deddeebi’aa jiruu luboonni hangafoonni, barsiistonni seeraatii fi maangud-
doonni gara isaa dhufan. 28 Isaanis, “Ati taayitaa maaliitiin wantoota kanneen hoj-
jetta? Akka wantoota kanneen hojjettuufis eenyutu taayitaa siif kenne?” jedhaniin.
29 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Anis gaaffii tokkon isin gaafadha. Isin immoo
deebii naaf kennaa; anis taayitaa maaliitiin wantoota kanneen akkan hojjedhu
isinittin hima. 30 Cuuphaan Yohannis samii irraa dhufe moo nama biraa dhufe? Mee
natti himaa!”
31 Isaanis waliin mari’atanii akkana jedhan; “Yoo nu, ‘Samii irraa dhufe’ jenne inni
immoo, ‘Yoos isin maaliif isa hin amanin ree?’ jedhee nu gaafata; 32 Yookaan, ‘Nama
biraa dhufe’ jennuu?” jedhan. Sababii namni hundinuu dhugumaan Yohannisin
akka raajiitti ilaaleef uummata sodaatan.
33 Kanaaf isaan, “Hin beeknu” jedhanii Yesuusiif deebisan.
Yesuus immoo, “Anis taayitaa maaliitiin akkan wantoota kanneen hojjedhu isinitti
hin himu” jedheen.

## 12

### *Fakkeenya Qottuuwwanii*
*12:1-12 kwf – Mat 21:33-46; Luq 20:9-19*

‡ **11:17** 11:17 Isa 56:7 § **11:17** 11:17 Erm 11:7 * **11:26** 11:26 Waraabbileen tokko tokko luqqisaa 26 hin
qaban.

1 Yesuusis akkana jedhee fakkeenyaan isaanitti dubbachuu jalqabe; “Namichi tokko
iddoo dhaabbaa wayinii irra wayinii dhaabbate. Innis naannoo isaatti dallaa ijaaree,
boolla itti wayinii cuunfan qotee qooxii eegumsaa ijaare. Ergasiis iddoo dhaabbaa
wayinii sana qonnaan bultootatti kiraa kennatee biyya fagoo dhaqe. 2 Innis yeroo
midhaan walitti qabamutti akka inni ija iddoo dhaabbaa wayinii irraa waa fiduufiif
garbicha tokko qottuuwwan sanatti ergate. 3 Isaan garuu qabanii, tumanii harka
duwwaa of irraa isa deebisan. 4 Ammas garbicha biraa isaanitti ergate; isaanis mataa
isaa buruqsanii isa qaanessan. 5 Amma illee garbicha biraa ergate; isas ni ajjeesan.
Garboota biraa baay’ees ergate; isaanis gartokko ni tuman; kaan immoo ni ajjeesan.
6 “Amma iyyuu inni nama ergu tokko qaba ture; innis ilma isaa jaallatamaa dha.
Namichis, ‘Ilma koo ni kabaju’ jedhee dhuma irratti isa ergate.
7 “Qottoonni sun garuu, ‘Dhaaltuun isa kana. Kottaa isa ajjeefnaa; dhaalli sun
keenya ta’aatii’ waliin jedhan. 8 Kanaafuu isaan fuudhanii isa ajjeesan; iddoo
dhaabbaa wayinii keessaas gad baasanii isa gatan.
9 “Egaa abbaan iddoo dhaabbaa wayinii sanaa maal godhinna laata? Inni dhufee
qottuuwwan sana ni ajjeesa; iddoo dhaabbaa wayinii sanas namoota biraatti kennata.
10 Isin Katabbii Qulqulluu hin dubbifnee? Innis akkana jedha:
“ ‘Dhagaan ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee ta’eera;
11 kanas Gooftaatu godhe;
kunis ija keenyatti dinqii dha.’*”
12 Isaanis akka inni isaaniin mormuudhaan fakkeenya sana dubbate waan
beekaniif isa qabuu barbaadan. Garuu namoota sana sodaatan; kanaafuu isa
dhiisanii qajeelan.

### *Waa’ee Gibira Baasuu*
### *12:13-17 kwf – Mat 22:15-22; Luq 20:20-26*

13 Ergasii waan inni dubbatuun isa qabuuf jedhanii Fariisotaa fi garee Heroodis
keessaa jara tokko Yesuusitti ergan. 14 Isaanis gara isaa dhufanii akkana jedhaniin;
“Yaa barsiisaa, akka ati nama dhugaa taate beekna. Ati waan fuula namaa hin
ilaalleef namni kam iyyuu karaa irraa si hin jal’isuutii; garuu ati dhugaadhaan karaa
Waaqaa barsiifta. Qeesaariif gibira baasuun eeyyamameera moo hin eeyyamamne?
15 Haa baasnu moo haa dhiifnuu?”
Yesuus garuu fakkeessitummaa isaanii beekee, “Isin maaliif na qortu? Mee
diinaarii†tokko natti fidaa nan ilaalaa” jedheen. 16 Isaanis diinaarii tokko isatti fidan;
innis, “Fakkiin kun kan eenyuu ti? Katabbiin kunis kan eenyuu ti?” jedhee isaan
gaafate.
Isaanis, “Kan Qeesaari” jedhanii deebisan.
17 Kana irratti Yesuus, “Kan Qeesaar Qeesaariif, kan Waaqaa immoo Waaqaaf
kennaa” jedheen.
Isaanis isa dinqifatan.

### *Gaaffii Waa’ee Du’aa Ka’uu*
### *12:18-27 kwf – Mat 22:23-33; Luq 20:27-38*

18 Ergasii Saduuqonni, du’aa ka’uun hin jiru jedhan gara Yesuus dhufanii akkana
jedhanii gaaffii tokko isa gaafatan; 19 “Yaa barsiisaa yoo obboleessi nama tokkoo niitii

---

* **12:11** 12:11 Far 118:22,23 † **12:15** 12:15 Hiikkaan tokko tokko saantima jedha. Saantimni maallaqaa kunis saantima mootummaa Roomaa ture. Innis fakkii fuula mootii Roomaa qofa utuu hin ta’in mormii mootiin sun amantii irratti qabus ni mul’isa. Fakkeenyaaf Xibaariyoos mootichi bara sana saantima isaa irratti katabbii, “Xibaariyoos Qeesaar, ilma Awugisxoos Waaqichaa” jedhu qaba ture (Luq 3:1). Fakkii fuula namaa saantima irratti qabaachuun fuula Yihuudoota amantii qabanii duratti jibbisiisaa ture. Kitaaba qulqulluu keessattis dhowwameera (Bau 20:4; KeD 5:8).

fuudhee utuu ijoollee hin dhalchin niitii isaa irraa du'e, obboleessi isaa niitii sana
dhaalee obboleessa isaatiif sanyii haa dhaabuu jedhee Museen nuu barreesseera.
20 Kunoo obboloota torbatu ture. Inni jalqabaa niitii fuudhee utuu ijoollee hin
dhalchin du'e. 21 Inni lammaffaanis ishee fuudhee utuu ijoollee hin dhalchin du'e.
Inni sadaffaanis akkasuma ta'e. 22 Torban isaanii iyyuu ijoollee hin dhalchine.
Dhuma irratti dubartittiinis ni duute. 23 Guyyaa du'aa ka'uutti isheen niitii isa kamii
taati? Torban isaanii iyyuu ishee fuudhaniiruutii."
24 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; "Isin waan Katabbiiwwan Qulqulluu
yookaan humna Waaqaa hin beekneef dogoggortu mitii? 25 Warri du'an yommuu
du'aa ka'anitti akka ergamoota samii ta'u malee hin fuudhan; hin heeruma-
nis. 26 Waa'ee warri du'an du'aa ka'uu garuu akka Waaqni Kitaaba Musee
keessatti, daggala boba'u biratti, 'Ani Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaqii fi Waaqa
Yaaqoob'‡jedhee isatti dubbate isin hin dubbifnee? 27 Inni Waaqa warra jiraataniiti
malee Waaqa warra du'anii miti. Isin akka malee dogoggortaniirtu!"

### *Ajaja Ajaja Hundumaa Caalu*
*12:28-34 kwf – Mat 22:34-40*

28 Barsiistota seeraa keessaa inni tokko dhufee wal falmuu isaanii dhaga'e. Innis
akka Yesuus deebii gaarii isaaniif kenne hubatee, "Ajajni ajajawwan hunda caalu isa
kami?" jedhee isa gaafate.
29 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Ajajni ajajawwan hunda caalu isa kana;
'Yaa Israa'el dhaga'i! Waaqayyo Gooftaan keenya Gooftaa tokkicha. 30 Waaqa kee
Goofticha garaa kee guutuudhaan, lubbuu kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan,
humna kee guutuudhaan jaalladhu.'§ 31 Inni lammaffaan immoo, isa kana; 'Ollaa
kee akkuma ofii keetiitti jaalladhu.'*Ajajni ajajawwan kanneen caalu tokko iyyuu
hin jiru."
32 Barsiisaan seeraa sunis akkana jedhee deebise; "Yaa barsiisaa, ati dhugaa jette;
Waaqa tokkicha malee Waaqni biraa hin jiruutii. 33 Garaa kee guutuudhaan, yaada
kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaan isa jaallachuun, ollaa kees akkuma ofii
keetiitti jaallachuun, qalma gubamuu fi aarsaa hunda caala."
34 Yesuusis yommuu akka inni hubannaadhaan deebise argetti, "Ati mootummaa
Waaqaa irraa fagoo hin jirtu" jedheen. Ergasii namni tokko iyyuu deebi'ee gaaffii isa
gaafachuuf ija hin jabaanne.

### *Kiristoos Ilma Eenyuu ti?*
*12:35-37 kwf – Mat 22:41-46; Luq 20:41-44*
*12:38-40 kwf – Mat 23:1-7; Luq 20:45-47*

35 Yesuus utuu mana qulqullummaa keessatti barsiisaa jiruu akkana jedhee gaafate;
"Barsiistonni seeraa maaliif Kiristoos ilma Daawit jedhu? 36 Daawit mataan isaa iyyuu
Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamee akkana jedhe:
" 'Gooftichi Gooftaa kootiin,
"Hamma ani diinota kee,
miilla kee jala siif galchutti,
gara mirga koo taa'i." '†
37 Daawit mataan isaa iyyuu 'Gooftaa' jedhee isa waama. Yoos inni akkamitti ilma
isaa ta'uu danda'a ree?"
Tuunni guddaan sunis gammachuudhaan isa dhaga'e.

### *Barsiistota Seeraa Irraa of Eeggachuu*

‡ **12:26** 12:26 Bau 3:6 § **12:30** 12:30 KeD 6:4,5 * **12:31** 12:31 Lew 19:18 † **12:36** 12:36 Far 110:1

[38] Yesuusis utuu barsiisuu akkana jedhe; “Barsiistota seeraa irraa of eeggadhaa.
Isaan uffata dhedheeraa uffatanii nanaanna’uu fi gabaa keessattis nagaa gaafatamuu
jaallatu; [39] manneen sagadaa keessatti taa’umsa ulfinaa, lafa cidhaatti immoo iddoo
ulfinaa jaallatu. [40] Isaanis mana haadha hiyyeessaa saamanii onsu; of argisiisuuf
jedhaniis kadhannaa dheeressu. Namoonni kunneen adaba guddaa adabamu.”

*Kennaa Haadha Hiyyeessaa*
*12:41-44 kwf – Luq 21:1-4*

[41] Yesuusis fuullee iddoo kennaan kaa’amuu taa’ee namoota maallaqa isaanii mi’a
buusii keessa buusan ilaala ture. Sooreyyiin baay’eenis maallaqa baay’ee mi’a sana
keessa buusaa turan. [42] Haati hiyyeessaa hiyyeettiin tokko dhuftee saantima sibiila
diimaa xixinnoo lama kan gatiin isaa gara saantima tokkoo ta’e mi’a sana keessa
buufte.
[43] Yesuusis barattoota isaa ofitti waamee akkana jedhe; “Ani dhuguman isinitti
hima; haati hiyyeessaa hiyyeettiin kun warra mi’a buusii kana keessa kennaa buusan
hunda caalaa buufteerti. [44] Isaan hundi qabeenya isaanii irraa kennan; isheen garuu
hiyyuma ishee keessaa waan hunda, waan ittiin jiraattu hunda kennite.”

# 13

*Mallattoo Dhuma Baraa*
*13:1-37 kwf – Mat 24:1-51; Luq 21:5-36*

[1] Utuu Yesuus mana qulqullummaatii ba’aa jiruu barattoota isaa keessaa inni tokko,
“Yaa Barsiisaa! Dhagaawwan gurguddaa kanneenii fi gamoowwan babbareedoo
kanneen mee ilaali!” jedheen.
[2] Yesuusis, “Gamoowwan gurguddaa kanneen argitaa? Ni diigama malee asitti
dhagaan dhagaa irratti hin hafu” jedheen.
[3] Utuu Yesuus Tulluu Ejersaa irra fuullee mana qulqullummaa taa’ee jiruu Phexros,
Yaaqoob, Yohannisii fi Indiriiyaas akkana jedhanii kophaatti isa gaafatan; [4] “Mee nutti
himi; wantoonni kunneen yoom ta’u? Mallattoon yeroo wantoonni kunneen hundi
itti raawwatamanii maali?”
[5] Yesuusis akkana isaaniin jechuu jalqabe; “Akka namni tokko iyyuu isin hin
gowwoomsineef of eeggadhaa. [6] Namoonni hedduun, ‘Ani isa’ jechaa maqaa kootiin
ni dhufu; nama hedduus ni gowwoomsu. [7] Isin yommuu waa’ee waraanaatii fi oduu
waraanaa dhageessanitti hin rifatinaa. Wanni akkanaa ta’uu qabaatii; dhumni garuu
amma iyyuu hin geenye. [8] Sabni sabatti, mootummaanis mootummaatti ni ka’a.
Sochiin lafaa iddoo garaa garaatti ni ta’a; beellis ni bu’a. Kunis jalqaba ciniinsuu
da’umsaa ti.
[9] “Isin of eeggachuu qabdu. Isin dabarfamtanii yaa’iitti ni kennamtu; manneen
sagadaa keessattis ni garafamtu. Isinis akka isaanitti dhuga baatota taataniif anaaf
jettanii fuula bulchitootaatii fi moototaa dura ni dhaabattu. [10] Duraan dursee
wangeelli saba hundatti lallabamuu qaba. [11] Yommuu qabamtanii qorumsaaf
dhi’eeffamtanitti waa’ee waan dubbattanii duraan dursitanii hin yaadda’inaa.
Waanuma yeroo sana isinii kennamu dubbadhaa; kan dubbatu Hafuura Qulqullu-
udha malee isin miti.
[12] “Obboleessi dabarsee obboleessa du’atti kenna; abbaan dabarsee ijoollee isaa
du’atti kenna. Ijoolleenis warra isaaniitti ka’anii isaan ajjeesu. [13] Namni hundinuu
sababii maqaa kootiif isin jibba; kan hamma dhumaatti jabaatee dhaabatu garuu ni
fayya.
[14] “ ‘Isin yommuu wanni jibbisiisaan badiisa fidu’*sun iddoo isaaf hin malle
dhaabatee argitanitti, namni dubbisu haa hubatu; yommus warri Yihuudaa keessa

* **13:14** 13:14 Dan 9:27; 11:31; 12:11

jiran tulluuwwanitti haa baqatan. [15] Namni bantii manaa irra jiru tokko iyyuu waan
tokko illee fudhachuuf gad hin bu'in yookaan mana hin seenin. [16] Namni lafa qotiisaa
jiru tokko iyyuu uffata isaa fudhachuuf duubatti hin deebi'in. [17] Bara sana keessa
dubartoota ulfaatii fi haadhota hoosisaniif wayyoo! [18] Kunis akka ganna†keessa hin
taaneef kadhadhaa. [19] Guyyoota sana keessa dhiphinni jalqaba uumama Waaqni
uumee kaasee hamma ammaatti hin dhufin, kan gara fuula duraattis hin dhufne ni
dhufaatii.
[20] "Utuu Gooftaan guyyoota sana gabaabsuu baatee silaa namni tokko iyyuu
hin hafu ture. Garuu inni sababii filatamtoota filateetiif jedhee guyyoota sana
gabaabseera. [21] Yeroo sana yoo namni kam iyyuu, 'Ilaa Kiristoos as jira!' yookaan
'Ilaa, inni achi jira!' isiniin jedhe hin amaninaa. [22] Kiristoosonni sobaatii fi raajonni
sobaa ni ka'uutii; isaanis yoo danda'ameef, filatamtoota illee gowwoomsuuf jedhanii
mallattoo fi dinqii ni hojjetu. [23] Isin garuu of eeggadhaa! Ani waan hunda duraan
dursee isinitti himeera.
[24] "Bara sana keessa garuu dhiphina sana booddee,
" 'Aduun ni dukkanoofti;
ji'is ifa ishee hin kennitu;
[25] urjiiwwan samii irraa ni harca'u;
humnoonni samiis ni raafamu.'‡
[26] "Yeroo sana namoonni utuu Ilmi Namaa humna guddaa fi ulfinaan duumessaan
dhufuu ni argu. [27] Innis Ergamoota isaa ergee filatamtoota isaa kanneen han-
daarawwan lafaa irraa hamma handaarawwan samiiwwaniitti jiran bubbeewwan
afran irraa walitti qaba.
[28] "Fakkeenya kana muka harbuu irraa baradhaa; yommuu dameen isaa latee baala
baafatutti akka bonni dhi'aate ni beektu. [29] Akkasuma isinis yommuu wanni kun
raawwatamuu isaa argitanitti akka inni dhi'aate, akka balbala irras ga'e ni beektu.
[30] Ani dhuguma isinittin hima; hamma wanni kun hundi ta'utti dhaloonni kun hin
darbu. [31] Samii fi lafti ni darbu; dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu.

### *Guyyaa fi Sa'aatiin Sun Hin beekamu*

[32] "Waa'ee guyyaa sanaa yookaan waa'ee sa'aatii sanaa garuu Abbaa qofatu beeka
malee namni tokko iyyuu hin beeku; ergamoonni samii irraa iyyuu hin beekan;
yookaan ilmi iyyuu hin beeku. [33] Of eeggadhaa! Dammaqaas! Yeroon sun yoom
akka ta'e hin beektaniitii. [34] Innis nama garboota isaatti taayitaa kennee, tokkoo
tokkoo isaaniittis hojii isaa kennee, akka garbichi karra eegu immoo dammaqee eegu
ajajee, mana isaa dhiisee karaa dheeraa deeme tokko fakkaata.
[35] "Kanaafuu isin dammaqaa; yeroo itti abbaan mana sanaa deebi'u, jechuunis
galgala yookaan halkan walakkaa yookaan iyya indaanqoo yookaan barii obboroo
ta'uu isaa hin beektaniitii. [36] Kunis akka inni akkuma tasaa dhufee utuu raftanuus
isin hin arganneef. [37] Ani waanan isiniin jedhu nama hundumaan nan jedha;
'dammaqaa!' "

## 14

### *Yesuus Biitaaniyaatti Shittoo Dibame*
*14:1-11 kwf – Mat 26:2-16*
*14:1,2,10,11 kwf – Luq 22:1-6*
*14:3-8 kwi – Yoh 12:1-8*

[1] Egaa Faasiikaa fi Ayyaana Maxinootiif guyyaa lama qofatu hafe; luboonni
hangafoonnii fi barsiistonni seeraa haxxummaadhaan Yesuusin qabanii ajjeesuuf

† **13:18** 13:18 Ganni yeroo bokkaan cimaan roobee lagni guutee rakkina uumuu dha. Akkasumas akka ganna keessa hir'inni nyaataa jiru argisiisuu danda'a. ‡ **13:25** 13:25 Isa 13:10; 34:4

mari’achaa turan. 2 Isaanis, “Garuu akka namoonni goolii hin kaafneef yeroo
ayyaanaatti hin ta’in” jedhan.
3 Utuu inni Biitaaniyaa keessa mana Simoon isa lamxaa’aa sanaatti maaddiitti
dhi’aatee jiruu, dubartiin tokko shittoo gatiin isaa guddaa ta’e kan naardoos
qulqulluu irraa qopheeffame bilqaaxxii albaasxiroositti qabattee dhufte. Isheenis
bilqaaxxicha cabsitee shittoo sana mataa isaatti dhangalaafte.
4 Namoota achi turan keessaa tokko tokko aaranii akkana waliin jedhan; “Shittoo
kana balleessuun maaliif? 5 Silaa shittoon kun diinaarii dhibba sadii* olitti
gurguramee maallaqa isaa hiyyeeyyiif kennuun ni danda’ama tureetii.” Isaanis
isheetti dheekkaman.
6 Yesuus garuu akkana jedhe; “Ishee dhiisaa. Maaliif ishee rakkiftu? Isheen waan
gaarii naaf gooteerti. 7 Hiyyeeyyii yeroo hunda of biraa qabdu; isin yeroo feetan
kamitti iyyuu isaan gargaaruu ni dandeessu. Ana garuu yeroo hunda of biraa hin
qabdan. 8 Isheen waan dandeessu hojjette. Isheen duraan dursitee dhagna koo
awwaalaaf dibde.† 9 Ani dhuguma isinittin hima; addunyaa hunda irratti, iddoo
wangeelli itti lallabamu kamitti iyyuu wanni isheen gootes yaadannoo isheetiif ni
odeeffama.”
10 Ergasiis warra Kudha Lamaan keessaa tokko, Yihuudaa Keeriyotichi, Yesuusin
dabarsee isaanitti kennuuf jedhee gara luboota hangafootaa dhaqe. 11 Isaanis
yommuu waan kana dhaga’anitti gammadanii, maallaqa isaaf kennuuf waadaa galan.
Kanaafuu Yihuudaan dabarsee isa kennuuf haala mijaa’aa eeggachaa ture.

### *Irbaata Gooftaa*
*14:12-26 kwf – Mat 26:17-30; Luq 22:7-23*
*14:22-25 kwf – 1Qr 11:23-25*

12 Guyyaa jalqaba Ayyaana Maxinoo, yeroo itti hoolaan Faasiikaa qalamutti
barattoonni Yesuus, “Akka ati Faasiikaa nyaattuuf nu eessa dhaqnee akka siif
qopheessinu barbaadda?” jedhanii isa gaafatan.
13 Innis barattoota isaa keessaa nama lama erge; akkanas isaaniin jedhe; “Magaalaa
seenaa; namichi okkotee bishaanii baatu tokko isinitti dhufa; isa duukaa bu’aa.
14 Abbaa mana namichi sun seenuutiinis, ‘Barsiisaan, manni keessumaa ko, iddoon
ani itti barattoota koo wajjin Faasiikaa nyaadhu eessa? jedhee gaafata’ jedhaa.
15 Abbaan manaa sunis darbii bal’aa miidhagfamee qopheeffame tokko isinitti
argisiisa. Isinis achitti nuuf qopheessaa.”
16 Barattoonnis ka’anii magaalaa sana seenanii akkuma Yesuus isaanitti hime
sanatti argatan. Faasiikaas ni qopheessan.
17 Yesuusis yommuu galgalaa’etti warra Kudha Lamaan wajjin achi ga’e. 18 Utuu
isaan maaddiitti dhi’aatanii jiranuu Yesuus, “Ani dhuguma isinitti nan hima; isin
keessaa tokko, kan amma na wajjin nyaachuutti jiru dabarsee na kenna” jedheen.
19 Isaanis gaddanii, tokko tokkoon, “Na ta’innaa laata?” jechuu jalqaban.
20 Innis akkana jedhee deebise; “Namichi sun warra kudha Lamaan keessaa tokkoo
dha. Innis isa na wajjin gabatee keessaa cuuphatuu dha. 21 Ilmi Namaa akkuma
waa’een isaa barreeffame sanatti ni deema. Garuu namicha dabarsee Ilma Namaa
kennu sanaaf wayyoo! Inni utuu dhalachuu baatee isaaf wayya ture.”
22 Utuu nyaachaa jiranuus Yesuus buddeena fuudhee eebbise; caccabsees, “Fudhad-
haa; kun foon koo ti” jedhee isaaniif kenne.
23 Xoofoos fuudhee galata galchee isaaniif kenne; hundi isaaniis xoofoo sana irraa
dhugan.

* **14:5** 14:5 Diinaariin dhibba sadii mindaa waggaatti hojjetaa tokkoof kaffalamu. † **14:8** 14:8 Yihuudoonni yommuu reeffa tokko awwaalaaf qopheessanitti shittootti fayyadamu ture (Mar 16:1).

[24] Innis akkana isaaniin jedhe; “Kun dhiiga ko, dhiiga kakuu haaraa kan namoota
baay’eef dhangalaafamuu dha. [25] Ani dhuguma isinitti nan hima; ani hamman
guyyaa sana mootummaa Waaqaa keessatti deebi’ee dhugutti ija wayinii kana irraa
deebi’ee hin dhugu.”

[26] Isaanis erga faarfannaa faarfatanii booddee Tulluu Ejersaatti qajeelan.

*Yesuus Akka Phexros Isa Ganu Duraan Dursee Dubbate*
*14:27-31 kwf – Mat 26:31-35*

[27] Yesuus akkana isaaniin jedhe; “Hundi keessan ni gufattu; akkana jedhamee
barreeffameeraatii:
“ ‘Ani tiksee nan rukuta;
hoolonnis ni bittinneeffamu.’‡
[28] Ani garuu ergan du’aa ka’ee booddee isin dura Galiilaa nan dhaqa.”

[29] Phexros garuu, “Yoo namni hundinuu gufate iyyuu ani hin gufadhu” jedheen.

[30] Yesuus immoo deebisee, “Ani dhuguma sitti nan hima; ati har’a, edanuma utuu
indaanqoon yeroo lama hin iyyin, yeroo sadii na ganta” jedheen.

[31] Phexros garuu, “Ani yoon si wajjin du’uu qabaadhe illee gonkumaa si hin ganu”
jedhee jabeessee dubbate. Hundi isaaniis akkasuma jedhan.

*Geetesemaanee*
*14:32-42 kwf – Mat 26:36-46; Luq 22:40-46*

[32] Isaanis iddoo Geetesemaanee jedhamu tokko dhaqan; Yesuusis barattoota
isaatiin, “Hamma ani kadhadhutti isin as taa’aa” jedhe. [33] Innis Phexrosin, Yaaqoobii
fi Yohannisin of faana fudhatee, akka malee dhiphachuu fi yaadda’uus jalqabe.
[34] Innis, “Lubbuun koo akka malee gadditee du’uu geesseerti. Isin asuma turaatii
dammaqaa” jedheen.

[35] Innis xinnoo achi hiiqee lafatti gombifamee, yoo danda’ame akka sa’aatiin sun
isa irra darbituuf kadhate. [36] Innis, “*Aabbaa,*§yaa Abbaa, wanni hundinuu siif ni
danda’ama. Xoofoo kana narraa fuudhi. Garuu akka fedhii keetii malee akka fedhii
kootii hin ta’in” jedhe.

[37] Innis gara barattoota isaatti deebi’ee utuu rafanuu isaan arge. Phexrosiinis
akkana jedhe; “Simoon, ati amma illee inuma raftaa? Sa’aatii tokkittii illee
dammaqu hin dandeenyee? [38] Isin akka qorumsatti hin galleef dammaqaa
kadhadhaa. Hafuurri qophaa’aa dha; foon garuu dadhabaa dha.”

[39] Ammas achi hiiqee waanuma duraan kadhate sana kadhate. [40] Inni yommuu
deebi’ee dhufetti, ammas utuu rafanuu isaan arge; iji isaanii itti ulfaatee tureetii.
Isaanis akka maal jedhanii deebisaniif hin beekne.

[41] Yeroo sadaffaas deebi’ee akkana jedheen; “Isin amma iyyuu raftanii boqochaa
jirtuu? Ni ga’a! Sa’aatiin sun ga’eera. Kunoo, Ilmi Namaa dabarfamee harka
cubbamootaatti ni kennama. [42] Ka’aa ni deemnaa! Kunoo, namichi dabarsee na
kennu sun dhufaa jira.”

*Yesuus Qabamuu Isaa*
*14:43-50 kwf – Mat 26:47-56; Luq 22:47-50; Yoh 18:3-11*

[43] Utuma inni dubbachaa jiruus, Yihuudaan namichi warra Kudha Lamaan
keessaa tokko ta’e sun dhufe. Tuunni luboota hangafoota, barsiistota seeraatii fi
maanguddoota biraa ergames goraadee fi bokkuu qabatee isa wajjin dhufe.

[44] Inni dabarsee Yesuusin kennu sunis, “Namichi ani dhungadhu isa; isinis isa
qabaatii eegaa isa fuudhaa deemaa” jedhee mallattoo kenneefii ture. [45] Yihuudaanis
yommusuma Yesuusitti dhi’aatee, “Yaa Barsiisaa!” jedhee isa dhungate. [46] Namoonni

‡ **14:27** 14:27 Zak 13:7 § **14:36** 14:36 Afaan Araamaayikiitiin abbaa jechuu dha.

sun Yesuusin qabanii hidhan. 47 Warra achi dhadhaabachaa turan keessaa inni tokko
garuu goraadee isaa luqqifatee garbicha luba ol aanaa dha'ee gurra isaa irraa kute.

48 Yesuusis akkana jedhe; “Isin goraadee fi bokkuu qabattanii akka nama hattuu
qabuutti na qabuu dhuftanii? 49 Ani guyyuma guyyaan mana qulqullummaa keessatti
barsiisaa isin wajjin ture; isinis na hin qabne. Garuu Katabbiiwwan Qulqulluun
raawwatamuu qabu.” 50 Isaan hundinuus isa dhiisanii baqatan.

51 Dargaggeessi tokkos uffata quncee talbaa irraa hojjetame tokko qullaa isaa irra
buufatee Yesuus faana deemaa ture. Yeroo isa qabanittis, 52 dargaggeessi sun uffata
isaa dhiisee, qullaa isaa harkaa ba'e.

### *Yesuus Yaa'ii Duratti*
*14:53-65 kwf – Mat 26:57-68; Yoh 18:12,13,19-24*
*14:61-63 kwf – Luq 22:67-71*

53 Isaanis Yesuusin luba ol aanaatti geessan; luboonni hangafoonni, maanguddoon-
nii fi barsiistonni seeraa hundinuu walitti qabaman. 54 Phexrosis hamma dallaa luba
ol aanaa keessaatti fagootti isa duukaa bu'e. Innis waardiyyoota wajjin ibidda bira
taa'ee qaqqaammachaa ture.

55 Luboonni hangafoonnii fi yaa'iin guutuun Yesuusin ajjeesuuf jedhanii ragaa isatti
barbaadaa turan; isaan garuu homaa hin arganne. 56 Namoonni baay'een sobaan
isatti dhugaa ba'an; dhuga ba'umsi isaanii garuu tokko hin taane.

57 Tokko tokko immoo ka'anii akkana jedhaanii sobaan isatti dhugaa ba'an:
58 “ 'Mana qulqullummaa kan harka namaatiin ijaarame kana diigee kan biraa kan
harka namaatiin hin ijaaramin guyyaa sadii keessatti deebisee nan ijaara' jechuu
isaa dhageenyeerra.” 59 Haa ta'uu malee dhuga ba'umsi isaanii amma illee tokko hin
taane.

60 Lubichi ol aanaanis ka'ee fuula isaanii dura dhaabatee, “Ati deebii tokko illee
hin kennituu? Wanni namoonni kunneen dhugaa sitti ba'an kun maali?” jedhee
Yesuusin gaafate. 61 Yesuus garuu inuma cal'ise malee deebii tokko illee hin kennine.

Lubichi ol aanaan ammas, “Kiristoos Ilmi isa Eebbifamaa Sanaa sii?” jedhee isa
gaafate.

62 Yesuusis, “Eeyyee ana; isin utuu Ilmi Namaa karaa mirga Humna Qabeessa
sanaatiin taa'ee, duumessa samiitiin dhufuu ni argitu” jedhe.

63 Lubichi ol aanaan uffata isaa tarsaasee akkana jedhe; “Kana caalaa dhuga baatota
maalii nu barbaachisa? 64 Waaqa arrabsuu isaa isini iyyuu dhageessaniirtu. Maal
isinitti fakkaata?”

Hundi isaaniis du'atu isaaf mala jedhanii isatti muran. 65 Namoonni tokko tokko
isatti tufuu jalqaban; fuula isaas haguuganii abootteen isa rukutanii, “Mee raajii
dubbadhu!” jedhan. Eegdonnis fuudhanii isa kakkabalan.

### *Phexros Yesuusin Ganuu Isaa*
*14:66-72 kwf – Mat 26:69-75; Luq 22:56-62; Yoh 18:16-18,25-27*

66 Utuu Phexros dallaa sana keessa gara gadii jiruu xomboreewwan luba ol aanaa
keessaa tokko dhufte. 67 Isheen utuu Phexros ibidda qaqqaammatuu argite; hubattees
isa ilaalte.

Isheenis, “Atis Yesuus nama Naazreeti sana wajjin turte” jetteen.

68 Inni garuu, “Ani waan ati jettu hin beeku; naaf hin galus” jedhee gane. Karra
dallaatiinis gad ba'e; indaanqoonis ni iyye.

69 Xomboreen sun ammas isa argitee warra achi dhadhaabataniin, “Namichi kun
jara keessaa tokkoo dha” jette. 70 Inni garuu ammas ni gane.

Yeroo xinnoo booddee immoo warri achi dhadhaabachaa turan Phexrosiin, “Atis
nama Galiilaa waan taateef dhuguma iyyuu jara keessaa tokkoo dha!” jedhaniin.

71 Innis, “Ani namicha isin waa’ee isaa dubbattan kana hin beeku” jedhee of
abaaruu fi kakachuu jalqabe.
72 Yommusuma indaanqoon lammata iyye. Phexrosis dubbii Yesuus, “Utuu
indaanqoon yeroo lama hin iyyin, ati yeroo sadii na ganta” isaan jedhee ture sana
yaadatee boo’e.

# 15

*Yesuus Fuula Phiilaaxoos Duratti*
*15:2-15 kwf – Mat 27:11-26; Luq 23:2,3,18-25; Yoh 18:29–19:16*

1 Ganama barii luboonni hangafoonni, maanguddoota, barsiistota seeraatii fi
guutummaa yaa’ii Yihuudootaa wajjin mari’atanii Yesuusin hidhanii, geessanii
Phiilaaxoositti dabarsanii kennan.
2 Phiilaaxoosis, “Ati mootii Yihuudootaatii?” jedhee isa gaafate.
Yesuus immoo, “Atuu jette kaa!” jedhee deebise.
3 Luboonni hangafoonni waan baay’eedhaan isa himatan. 4 Phiilaaxoos amma illee,
“Ati deebii hin kennituu? Isaan waan meeqaan akka si himatan mee ilaali” jedhee
isa gaafate.
5 Yesuus garuu amma illee deebii tokko iyyuu hin kennine; Phiilaaxoosis ni
dinqisiifate.
6 Innis nama hidhame kan sabni gaafate tokko Guyyaa Ayyaanaa hunda gad dhiisa
ture. 7 Namichi Barabbaas jedhamu tokko finciltoota goolii kaasanii nama ajjeesan
wajjin mana hidhaa keessa ture. 8 Uummanni sunis Phiilaaxoos bira dhaqee akka
inni waan duraan gochaafii ture sana isaanii godhu isa kadhate.
9 Phiilaaxoos garuu, “Akka ani mootii Yihuudootaa gad isinii dhiisu barbaad-
duu?” jedhee gaafate; 10 inni akka luboonni hangafoonni hinaaffaadhaan Yesuusin
dabarsanii isatti kennan ni beeka tureetii. 11 Luboonni hangafoonni garuu akka
Phiilaaxoos qooda Yesuus Barabbaasin gad dhiisu akka isa kadhataniif namoota
kakaasan.
12 Phiilaaxoosis, “Yoos namicha isin mootii Yihuudootaa jettaniin kana maal godhu
ree?” jedhee amma illee isaan gaafate.
13 Isaan amma illee, “Isa fannisi!” jedhanii iyyan.
14 Phiilaaxoos immoo, “Maaliif? Inni yakka maalii hojjete?” jedhee gaafate.
Isaan garuu ittuma caalchisanii, “Isa fannisi!” jedhanii iyyan.
15 Kanaafuu Phiilaaxoos namoota gammachiisuuf jedhee Barabbaasin gad isaaniif
dhiise. Yesuusin garuu garafsiisee akka inni fannifamuuf dabarsee kenne.

*Loltoonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii*
*15:16-20 kwf – Mat 27:27-31*

16 Ergasii loltoonni Yesuusin mana bulchaatti, jechuunis *Piraayitooriyoonitti* ol
galchan; raayyaa loltootaa hundas walitti waaman. 17 Uffata dhiilgee* itti uffisan;
gonfoo qoraattiis micciiranii dha’anii isa irra kaa’an. 18 Isaanis, “Akkam ree, yaa
mootii Yihuudootaa!” jedhanii nagaa isa gaafachuu jalqaban. 19 Uleedhaanis mataa
isaa rukutan; isattis tufan. Jilbeenfataniis sagadaniif. 20 Erga itti qoosanii booddee
uffata diimaa dhiilgee sana irraa baasanii wayyaa isaa deebisanii isatti uffisan.
Fannisuufis isa fuudhanii deeman.

*Yesuus Fannifamuu Isaa*
*15:22-32 kwf – Mat 27:33-44; Luq 23:33-43; Yoh 19:17-24*

* **15:17** 15:17 Uffata loltoota Roomaa kan wayyaa kaan irratti uffatamu.

21 Isaanis namicha Qareenaa† kan Simoon jedhamu tokko utuu inni baadiyyaadhaa
dhufee achiin darbaa jiruu arganii akka inni fannoo Yesuus baatuuf isa dirqisiisan.
Namichi kunis abbaa Iskindiroosii fi Ruufoosii ti. 22 Isaanis iddoo Golgootaa
jedhamutti Yesuusin geessan; Golgootaa jechuun "Iddoo buqqee mataa" jechuu dha.
23 Jarris akka inni daadhii wayinii kan qumbiin walitti makame dhuguuf kennaniif;
inni garuu fudhachuu dide. 24 Isaanis isa fannisan. Uffata isaas gargar qoodatanii
tokkoon tokkoon namaa maal akka argatu murteessuuf ixaa buufatan.
25 Yeroon isaan itti isa fannisanis ganama sa'aatii sadii ture. 26 Katabbiin waan inni
ittiin himatamee kan,

Mooticha Yihuudootaa,

jedhu mataa isaatiin ol ture.
27 Hattoota lamas, isa tokko mirga isaatiin, kaan immoo bitaa isaatiin isa wajjin
fannisan. [ 28 Kanaanis dubbiin kitaabni, "Inni akka seera cabsitootaatti lakkaa'ame"
jedhu sun ni raawwatame.]‡ 29 Warri achiin darbanis isa arrabsan; mataa isaaniis
raasanii, "Muu! Ati kan mana qulqullummaa diigdee guyyaa sadiitti ijaartu, 30 mee
fannoo irraa gad bu'iitii of oolchi!" jedhan. 31 Akkasumas luboonni hangafoonnii fi
barsiistonni seeraa wajjin itti qoosan. Akkanas jedhan; "Inni warra kaan oolcheera;
ofii isaa garuu oolchuu hin danda'u! 32 Akka nu arginee amannuuf Kiristoos mootichi
Israa'el kun mee amma fannoo irraa gad haa bu'u." Warri isa wajjin fannifamanis
isa arrabsan.

### *Yesuus Du'uu Isaa*
*15:33-41 kwf – Mat 27:45-56; Luq 23:44-49*

33 Sa'aatii ja'aa jalqabee, hamma sa'aatii sagaliitti dukkanni lafa hunda irra bu'e.
34 Sa'aatii sagalittis Yesuus sagalee guddaadhaan, *"Eloohee! Eloohee!*§ *Laamaa
Sabaqtaanii?"* jedhee iyye. Hiikkaan isaas, "Yaa Waaqa ko! Yaa Waaqa ko! Ati
maaliif na dhiifte?"* jechuu dha.
35 Warra achi dhadhaabatan keessaa tokko tokko yommuu waan kana dhaga'anitti,
"Ilaa, inni Eeliyaasin waamaa" jedhan.
36 Namichi tokkos fiigee, ispoonjii dhangaggaa'aadhaan guutee, uleetti kaa'e; akka
inni dhuguufis Yesuusiif kennee, "Mee isa dhiisaa. Akka Eeliyaas dhufee gad isa
buusu arginaatii" jedhe.
37 Yesuusis sagalee guddaadhaan iyyee hafuura dhumaa baafate.
38 Golgaan mana qulqullummaas olii hamma gadiitti iddoo lamatti tarsa'e.
39 Ajajaan dhibbaa kan fuula Yesuus dura dhaabachaa tures yommuu iyyuu Yesuus
dhaga'ee akka inni itti hafuura dhumaa baafate argetti, "Dhugumaanuu namichi kun
Ilma Waaqaa ture!" jedhe.
40 Dubartoonni tokko tokkos fagoodhaa ilaalaa turan. Isaan keessaas Maariyaam
ishee Magdalaa, Maariyaam haadha Yaaqoob isa quxisuutii fi Yoosaa akkasumas
Saloomee turan. 41 Isaanis yeroo inni Galiilaa turetti isa duukaa bu'anii isa tajaajilaa
turan. Dubartoonni isa wajjin Yerusaalemitti ol ba'an baay'een kaanis achi turan.

### *Yesuus Awwaalamuu Isaa*
*15:42-47 kwf – Mat 27:57-61; Luq 23:50-56; Yoh 19:38-42*

42 Guyyaan sun Guyyaa Qophii jechuunis guyyaa Sanbataan duraa ture. Yommuu
galgalaa'ettis, 43 Yoosef namni Armaatiyaa, miseensi yaa'ii beekamaan kan mataan
isaa mootummaa Waaqaa eeggachaa ture tokko ija jabinaan gara Phiilaaxoos
dhaqee reeffa Yesuus kadhate. 44 Phiilaaxoosis yommuu akka inni du'e dhaga'etti

† **15:21** 15:21 Qareenaan magaalaa Giriik kan qarqara kaaba Afriikaa naannoo har'a Liibiyaa jedhamutti argamuu dha. ‡ **15:28** 15:28 Waraabbileen tokko tokko luqqisaa 28 hin qaban. § **15:34** 15:34 Waraabbileen tokko tokko Eelii, Eelii jedhu. * **15:34** 15:34 Far 22:1

ni dinqifate. Ajajaa dhibbaa sanas ofitti waamee Yesuus erga du'ee turuu fi
turuu baachuu isaa gaafate. 45 Akka inni du'es ajajaa dhibbaa sana irraa erga
mirkaneeffatee booddee reeffa sana Yoosefiif kenne. 46 Yoosefis huccuu quncee talbaa
irraa hojjetame bitee, reeffa sana gad buusee, huccuu sanaan kafanee awwaala
garaa kattaa keessatti qotate keessa kaa'e. Dhagaa tokkos balbala awwaala sanaatti
gangalchee cufe. 47 Maariyaam isheen Magdalaatii fi Maariyaam haati Yoosaa lafa
inni kaa'ame ni argan.

# 16

*Yesuus Du'aa Ka'uu Isaa*
*16:1-8 kwf – Mat 28:1-8; Luq 24:1-10*

1 Erga Sanbanni darbee booddee Maariyaam isheen Magdalaa, Maariyaam haati
Yaaqoobii fi Saloomeen dhaqanii reeffa Yesuus dibuuf jedhanii urgooftuu bitan.
2 Isaanis guyyaa jalqaba torbaan sanaa ganama barii, akkuma biiftuun baateen gara
awwaalaa dhaqan; 3 isaanis, "Eenyutu balbala awwaalaa irraa dhagaa sana nuu
gangalcha?" waliin jedhan.
4 Yommuu mil'atanii ilaalanitti garuu akka dhagaan baay'ee guddaan sun afaan
awwaalaa irraa gangalfame argan. 5 Isaanis awwaala keessa seenanii dargaggeessa
uffata adii uffate tokko karaa mirgaatiin taa'ee arganii rifatan.
6 Innis akkana isaaniin jedhe; "Hin rifatinaa! Isin Yesuus Nama Naazreeti isa
fannifamee ture barbaaddu. Inni ka'eera! As hin jiru. Mee iddoo isaan isa kaa'anii
turan ilaalaa. 7 Garuu dhaqaatii barattoota isaatii fi Phexrositti, 'Inni isin dursee
Galiilaa ni dhaqa. Akkuma isinitti hime sanas achitti isa ni argitu' jedhaatii himaa."
8 Dubartoonni sunis hollachaa fi dinqisiifachaa gad ba'anii awwaalicha biraa
baqatan. Sababii sodaataniifis nama tokkotti illee homaa hin himne.
[ 9 Yesuusis barii guyyaa jalqaba torban sanaa yeroo du'aa ka'etti duraan dursee
Maariyaam ishee Magdalaatti mul'ate; Maariyaam kunis kan inni hafuurota hamoo
torba ishee keessaa baasee turee dha. 10 Isheenis dhaqxee utuu warri isa wajjin
turan wawwaachuu fi boo'uutti jiranuu isaanitti himte. 11 Isaan garuu yommuu akka
Yesuus jiraataa ta'ee fi akka isheen isa argite dhaga'anitti waan sana hin amanne.
12 Ergasiis isaan keessaa utuu namoonni lama baadiyyaa dhaqaa jiranuu Yesuus
bifa biraatiin isaanitti mul'ate. 13 Jarris deebi'anii warra hafanitti himan; isaan garuu
warra kanas hin amanne.
14 Ergasiis Yesuus utuu isaan maaddiitti dhi'aatanii jiranuu warra Kudha Tokkotti
mul'ate; innis sababii isaan warra erga inni du'aa ka'e isa argan sana amanuu
didaniif, amantii dhabuu isaaniitii fi mata jabina isaaniitiif isaan ifate.
15 Innis akkana isaaniin jedhe; "Gara addunyaa hundaa dhaqaa; uumama
hundumattis wangeela lallabaa. 16 Namni amanuu fi cuuphamu kam iyyuu ni fayya;
nama hin amannetti garuu ni murama. 17 Mallattoon kunis warra amanan irraa
mul'ata; isaan maqaa kootiin hafuurota hamoo baasu; afaan haaraadhaan dubbatu;
18 harka isaaniitiin bofa ni qabu; yoo summii nama ajjeesu dhugan isaan hin miidhu;
harka isaanii namoota dhukkubsatan irra ni kaa'u; namoonnis ni fayyu."
19 Yesuus Gooftaan erga isaanitti dubbatee booddee samiitti ol fudhatamee gara
mirga Waaqaatiin taa'e. 20 Barattoonnis achii ba'anii iddoo hundatti lallaban;
Gooftaanis isaan wajjin hojjechaa ture; dubbii isaas dinqiiwwan hojjetamaniin ni
mirkaneessa ture.]*

---

* **16:20** 16:9-20 Waraabbileen durii tokko tokko kutaa luqqisaa 9 fi 20 gidduu jiru hin qaban.

# Wangeela
# Luqaas

*Seensa*
*1:1-4 kwi – Hoj 1:1*
[1] Namoonni baay'een seenaa wantoota nu gidduutti raawwatame sanaa barreessuu
yaalaniiru; [2] kunis akka warri jalqabaa kaasanii ijaan arganii fi tajaajiltoota dub-
bichaa turan sun nutti dabarsanii kennanitti. [3] Kanaafuu yaa Tewofilos kabajamaa,
anis jalqabumaa kaasee waan hundumaa sirriitti ergan qoradhee booddee seenaa
sana wal duraa duubaan siif barreessuun waan gaarii natti fakkaateera. [4] Kunis
akka wanni ati baratte sun dhugaa ta'e akka beektuuf.

*Dhalachuu Yohannis Cuuphaa*
[5] Bara Heroodis mootii Yihuudaa turetti ramaddii lubummaa Abiyaa keessaa luba
Zakkaariyaas jedhamu tokkotu ture; niitiin isaa Elsaabeexis sanyii Aroon. [6] Lamaan
isaanii iyyuu ajajaa fi seera Gooftaa hunda mudaa malee eeguudhaan fuula Waaqaa
duratti qajeeltota turan. [7] Garuu Elsaabeex waan dhabduu turteef ijoollee hin qaban
ture; lamaan isaanii iyyuu dulloomanii turan.
[8] Zakkaariyaasis dabareen garee isaa geenyaan utuu fuula Waaqaa duratti
tajaajila lubummaa isaa kennaa jiruu, [9] akkuma duudhaa lubummaatti akka mana
qulqullummaa Gooftaa seenee ixaana aarsuuf ixaadhaan filatame. [10] Yeroo ixaanni
aarfamuttis[*] namoonni baay'een alatti kadhachaa turan.
[11] Ergamaan Gooftaas iddoo aarsaa ixaanaatiin mirga dhaabatee Zakkaariyaasitti
mul'ate. [12] Zakkaariyaasis yommuu isa argetti ni rifate; sodaanis isa qabate.
[13] Ergamaan sun garuu akkana isaan jedhe; "Yaa Zakkaariyaas, hin sodaatin;
kadhannaan kee dhaga'ameera. Niitiin kee Elsaabeex ilma siif deessi; atis maqaa
isaa Yohannis jedhii moggaasi. [14] Ati ilillee fi gammachuu ni qabaatta; namoonni
baay'eenis dhalachuu isaatti ni gammadu; [15] inni fuula Gooftaa duratti guddaa
ta'aatii. Daadhii wayinii yookaan dhugaatii nama macheessu gonkumaa dhuguu hin
qabu;[†] utuma garaa haadha isaa keessa jiruus Hafuura Qulqulluudhaan ni guutama.
[16] Saba Israa'el keessaas namoota baay'ee gara Gooftaa, gara Waaqa isaaniitti ni
deebisa. [17] Innis saba Gooftaaf qophaa'e tokko kurfeessuuf jedhee garaa abbootii gara
ijoollee isaaniitti, warra hin ajajamne immoo gara ogummaa qajeeltotaatti deebisuuf
hafuuraa fi humna Eeliyaasiin fuula Gooftaa dura ni deema."
[18] Zakkaariyaasis, "Ani akkamittin kana beeka? Ani dulloomeera; umuriin niitii
kootiis deemee jira" jedhee ergamaa sana gaafate.
[19] Ergamaan sunis akkana jedhee deebiseef; "Ani Gabri'eel isa fuula Waaqaa
dura dhaabatuu dha; anis sitti dubbachuu fi oduu gammachiisaa kana sitti himuuf
ergameera. [20] Kunoo, ati sababii dubbii koo isa yeroo isaatti mirkanaa'u hin
amaniniif hamma gaafa wanni kun ta'uutti ni duudda; dubbachuus hin dandeessu."
[21] Uummannis yeroo sana sababii Zakkaariyaas yeroo akkas dheeratu mana
qulqullummaa keessa tureef dinqifachaa isa eegaa ture. [22] Garuu Zakkaariyaas
yommuu gad ba'etti waan isaanitti dubbachuu hin danda'iiniif isaan akka inni mana
qulqullummaa keessatti mul'ata wayii arge hubatan; innis mallattoon isaanitti himaa
ture malee dubbachuu hin dandeenye.

---

[*] **1:10** 1:10 Yeroo itti aarsaan galgalaa dhi'eeffamuu dha. Yeroon isaas guyyaa keessaa gara sa'aatii sagalii ti.
[†] **1:15** 1:15 Kun dirqama addaa kan namni kakuu Naazirummaa of irraa qabu tokko guutuu qabuu dha.

23 Innis yommuu yeroon tajaajila isaa raawwatetti gara mana isaatti deebi’e.
24 Ergasii niitiin isaa Elsaabeex ulfooftee hamma ji’a shaniitti manaa hin baane.
25 Isheenis, “Gooftaan salphina namoota gidduutti narra ture narraa kaasuuf jedhee
guyyaa arjummaan na yaadatetti waan kana naa godhe” jette.

*Dhalachuu Yesuus*

26 Ji’a ja’affaattis Gabri’eel Ergamichi Waaqa biraa gara magaalaa Naazreeti ishee
Galiilaa keessatti argamtuutti ergame; 27 innis gara durba namichi sanyii Daawit irraa
dhalate kan maqaan isaa Yoosef jedhamu tokkoof kaadhimamtee‡ dhufe. Maqaan
durba qulqullittii sanaas Maariyaam ture. 28 Ergamaan Waaqaa sunis gara ishee
dhaqee, “Yaa ishee surraa argatte; nagaan siif haa ta’u! Gooftaan si wajjin jira”
jedhe.
29 Maariyaam garuu dubbii ergamaa sanaatiin akka malee jeeqamtee, “Kun nagaa
akkamiitii?” jettee yaadde. 30 Ergamichi garuu akkana isheedhaan jedhe; “Yaa
Maariyaam, hin sodaatin; ati Waaqa biraa surraa argatteertaatii. 31 Kunoo ni ulfoofta;
Ilmas ni deessa; maqaa isaas Yesuus jettee moggaafta. 32 Innis guddaa ni ta’a;
Ilma Waaqa Waan Hundaa Olii jedhamees ni waamama. Waaqni Gooftaanis teessoo
Abbaa isaa Daawit ni kennaaf; 33 inni mana Yaaqoob irratti bara baraan ni mo’a;
mootummaan isaas dhuma hin qabu.”
34 Maariyaamis, “Ani durba; yoos wanni kun akkamitti ta’uu danda’a ree?” jettee
ergamaa sana gaafatte.
35 Ergamaan sunis akkana jedhee deebiseef; “Hafuurri Qulqulluun sirra bu’a;
humni Waaqa Waan Hundaa Oliis si golbooba. Kanaaf inni qulqulluun dhalatu
sun Ilma Waaqaa ni jedhama. 36 Kunoo, firri kee Elsaabeexi iyyuu dulluma ishee
keessa ilma ulfoofteerti; isheen dhabduu jedhamaa turte sun ji’a ja’affaa qabatteerti.
37 Wanni Waaqaaf hin danda’amne hin jiruutii.”
38 Maariyaamis, “Kunoo, ani garbittii Gooftaa ti. Akkuma ati dubbatte naaf haa
ta’u” jetteen. Ergamichis ishee dhiisee deeme.

*Maariyaam Elsaabeexin Dubbisuu Dhaqxe*

39 Yeroo sana Maariyaam kaatee ariitiidhaan gara magaalaa baddaa biyya Yihuudaa
tokkoo dhaqxe. 40 Isheenis mana Zakkaariyaas seentee Elsaabeexin nagaa gaafatte.
41 Elsaabeexis yommuu nagaa Maariyaam dhageessetti mucaan sun gadameessa ishee
keessa u’utaale. Elsaabeexis Hafuura Qulqulluudhaan ni guutamte. 42 Isheenis
sagalee ishee ol fudhattee iyyitee akkana jette; “Ati dubartoota keessaa eebbifamtuu
dha; mucaan ati deessus eebbifamaa dha. 43 Garuu akka haati Gooftaa koo gara koo
dhuftuuf arjummaan akkanaa akkamitti naa godhame? 44 Kunoo, akkuma sagaleen
nagaa keetii gurra koo seeneen ulfi gadameessa koo keessa jiru gammachuun
utaaleera. 45 Wanni Gooftaan isheetti dubbate akka raawwatamu kan amante isheen
eebbifamtuu dha!”

*Faarfannaa Maariyaam*

46 Maariyaamis akkana jette:
“Lubbuun koo Gooftaadhaaf ulfina kenniti;
47 hafuurri koos fayyisaa koo Waaqatti ni gammada;
48 inni salphina garbittii isaa argeeraatii.
Kunoo ammaa jalqabee dhaloonni hundinuu eebbifamtuu naan jedha;
49 Inni humna qabeessi sun
waan guddaa naa godheeraatii;

‡ **1:27** 1:27 Kaadhima qabaachuun akka bartee Yihuudootaatti akkuma nama wal fuudheetti cimaa dha. Intalli kaadhimamte tokko nama biraa wajjin ciisuun garuu akkuma ejjaatti ilaalama. Walii galtee kaadhimaa diiguunis niitii ofii yookaan dhirsa ofii hiikuu wajjin tokkuma.

maqaan isaa qulqulluu dha.
50 Araarri isaas warra isa sodaataniif
dhalootaa hamma dhalootaatti itti fufa.
51 Inni irree isaatiin hojiiwwan gurguddaa hojjeteera;
of tuultotas yaada garaa isaaniitiin bittinneesseera.
52 Bulchitoota teessoo isaanii irraa buuseera;
gad of qabeeyyii garuu ol kaaseera.
53 Warra beela'an waan gaariidhaan quufseera;
sooreyyii garuu harka duwwaa deebiseera.
54 Inni araara qabeessa ta'uu isaa
yaadachaa garbicha isaa Israa'elin gargaareera;
55 kunis akkuma inni abbootii keenyaaf,
Abrahaamii fi sanyii isaatiif bara baraan waadaa galetti."
56 Maariyaamis gara ji'a sadii Elsaabeexi bira turtee gara mana ofii isheetti deebite.

### *Dhalachuu Yohannis Cuuphaa*

57 Elsaabeexi yeroon da'umsa ishee geenyaan ilma deesse. 58 Olloonni isheetii fi
firoonni ishee akka Gooftaan araara guddaa isheef godhe dhaga'anii ishee wajjin
gammadan.
59 Isaanis guyyaa saddeettaffaatti daa'ima sana dhagna qabuu dhufan; Za-
kkaariyaas jedhaniis maqaa abbaa isaatiin isa moggaasuu fedhan. 60 Haati isaa garuu,
"Lakkii! Inni Yohannis jedhamee waamamuu qaba" jette.
61 Isaanis, "Firoota kee keessa namni maqaa akkanaa qabu tokko iyyuu hin jiru"
jedhaniin.
62 Namoonni sunis akka Zakkaariyaas eenyu jedhee daa'ima sana waamuu
barbaadu beekuuf jedhanii mallattoon isa gaafatan. 63 Innis gabatee irratti barreessu
kadhatee, "Maqaan isaa Yohannis" jedhee barreesse; hundi isaaniis ni dinqifatan.
64 Yommusuma afaan isaa banamee arrabni isaa hiikame; innis Waaqa galateeffachu-
udhaan dubbachuu jalqabe. 65 Olloonni isaanii hundinuu sodaadhaan guutaman;
wanni kunis baddaa biyya Yihuudaa hunda keessatti odeeffame. 66 Warri kana
dhaga'an hundinuus, "Yoos daa'imni kun nama akkamii ta'inna laata?" jedhanii
garaa isaaniitti dinqifatan. Harki Gooftaa isa wajjin tureetii.

### *Faarfannaa Zakkaariyaas*

67 Zakkaariyaas abbaan Yohannis Hafuura Qulqulluudhaan guutamee akkana
jedhees raajii dubbate:
68 "Sababii dhufee saba isaa fureef Gooftaan,
Waaqni Israa'el haa eebbifamu.
69 Inni mana garbicha isaa mana Daawit keessatti
gaanfa fayyinaa nuuf kaaseera;
70 akkuma afaan raajota isaa qulqulloota duriitiin dubbatetti
71 diinota keenya jalaa,
harka warra nu jibban hundumaa keessaas nu baasuuf jedhee
72 araara abbootii keenyaaf waadaa gale sana raawwachuudhaaf,
kakuu isaa qulqulluu,
73 inni abbaa keenya Abrahaamiif kakate yaadachuudhaaf,
74 harka diinota keenyaa keessaa nu baasuudhaaf,
akka nu sodaa malee isa tajaajillu nu dandeessisuudhaaf,
75 akka nu bara jireenya keenyaa guutuu qulqullinaa fi qajeelinaan,
fuula isaa duratti tajaajilluuf waan kana godhe.

76 “Yaa mucaa ko, ati raajii Waaqa Waan Hundaa Olii ni jedhamta;
ati karaa isaa qopheessuuf fuula Gooftaa dura ni deemtaatii;
77 kunis akka ati dhiifama cubbuu argachuu isaaniitiin beekumsa fayyinaa
saba isaatiif kennituuf;
78 sababii araara Waaqa keenyaa kan gara laafinaan guutame
kan bariin fayyinaa samii irraa ittiin nuu bari’uu,
79 warra dukkana keessa,
gaaddidduu du’aa jala jiraniif akka ifa kennuuf;
miilla keenyas karaa nagaa irra deemsisuuf.”

80 Mucichis guddatee hafuuraan jabaachaa deeme; hamma guyyaa saba Israa’elitti
mul’ateettis gammoojjii keessa jiraate.

# 2

### *Dhalachuu Yesuus*

1 Bara sana keessa akka addunyaan Roomaa hundi galmeeffamuuf Awugisxoos
Qeesaar biraa labsiin ba’e. 2 Lakkoobsi sabaa kunis bara Qereenewoos bulchaa biyya
Sooriyaa turetti yeroo jalqabaatiif taasifame. 3 Namni hundinuu galmeeffamuuf gara
magaalaa itti dhalatee dhaqe.

4 Yoosefis manaa fi sanyii Daawit keessaa waan dhalateef magaalaa Naazreeti
ishee Galiilaa keessaatii ka’ee gara magaalaa Daawit ishee Yihuudaa keessaa kan
Beetlihem jedhamtuutti ol ba’e. 5 Innis kaadhima isaa Maariyaam ishee ulfa turte
sana wajjin galmeeffamuu dhaqe. 6 Utuma isaan achi jiranuus yeroon da’umsa ishee
ga’e. 7 Isheenis ilma ishee isa hangafa deesse. Waan mana bultii keessummootaa
keessa iddoon hin jiraatiniif huccuudhaan martee bidiruu keessa isa ciibsite.

### *Tiksootaa fi Ergamoota Waaqaa*

8 Tiksoota halkan halkan ala bulanii bushaayee isaanii tikfatanitu biyya sana ture.
9 Ergamaan Gooftaa isaanitti mul’ate; ulfinni Gooftaas naannoo isaaniitti ibse; isaanis
akka malee sodaatan. 10 Ergamaan sun garuu akkana isaaniin jedhe; “Hin sodaatinaa.
Kunoo, ani oduu gaarii baay’ee nama gammachiisu kan saba hundumaaf ta’u isinii
fideeraatii. 11 Har’a magaalaa Daawit keessatti fayyisaan isiniif dhalateera; innis
Kiristoos Gooftichа. 12 Kunis mallattoo isiniif ta’a: Daa’ima huccuudhaan maramee
bidiruu keessa ciisu tokko ni argitu.”

13 Ergamaa sana wajjinis raayyaan samii irraa baay’een akkuma tasaa mul’atanii
Waaqa galateeffachaa akkana jedhan;

14 “Samii gubbaatti ulfinni Waaqaaf,
lafa irrattis nagaan namoota inni itti gammaduuf haa ta’u.”

15 Erga Ergamoonni tiksoota dhiisanii gara samiitti ol ba’anii booddee tiksoonni
sun, “Kottaa Beetlihemin dhaqnee waan ta’e kan Gooftaan nutti hime kana ilaalaa”
waliin jedhan.

16 Isaanis dafanii dhaqanii Maariyaamii fi Yoosefin, daa’ima bidiruu keessa ciisus
argan. 17 Yommuu isa arganitti waan waa’ee mucichaa isaanitti himame sana
odeessan; 18 warri waan kana dhaga’an hundinuu waan tiksoonni isaanitti himan
sana ni dinqifatan. 19 Maariyaam garuu waan kana hunda garaatti qabattee itti
yaadaa turte. 20 Tiksoonnis sababii waan dhaga’anii fi arganiitiif Waaqaaf ulfina
kennaa, isa jajachaas deebi’an; wanni hundinuu akkuma isaanitti himame sana
tureetii.

### *Yesuus Mana Qulqullummaatti Dhi’eeffame*

21 Innis guyyaa saddeettaffaatti, akkuma yeroon dhagna qabaa isaa ga’een maqaa
utuu haati isaa iyyuu isa hin ulfaa’iniin dura ergamaan Waaqaa isaaf baaseen Yesuus
jedhamee moggaafame.
22 Akka Seera Museetti yeroon qulqullaa’ummaa isaanii geenyaan Yoosefii fi
Maariyaam daa’ima sana Gooftaa duratti dhi’eessuuf jedhanii isa fudhatanii
Yerusaalemitti ol ba’an. 23 Akkuma Seera Gooftaa keessatti barreeffametti, “Dhiirri
hangafni hundinuu gooftaaf ni qulqulleeffama.”[*] 24 Isaanis akkuma Seerri Gooftaa
jedhutti, “Gugee lama yookaan gugee sosookkee lama”[†] aarsaa dhi’eessuu dhaqan.
25 Kunoo, namichi qajeelaan Waaqa sodaatu kan maqaan isaa Simi’oon jedhamu
tokko Yerusaalem keessa ture. Innis jajjabeeffama Israa’el eeggachaa ture; Hafuurri
Qulqulluunis isa irra ture. 26 Hafuurri Qulqulluunis akka inni utuu Kiristoos
Goofticha hin argin hin duune isatti mul’isee ture. 27 Innis Hafuuraan qajeelfamee
mana qulqullummaa seene. Abbaa fi haati Yesuus yommuu akka duudhaa
seerichaatti waan barbaachisu isaaf guutuuf jedhanii Yesuus mucicha baadhatanii
ol seenanitti, 28 Simi’oon fuudhee isa hammatee akkana jedhee Waaqa galateeffate:
29 “Yaa Gooftaa, akkuma dubbii keetiitti,
ati garbicha kee amma nagaan geggeessis.
30 Iji koo fayyina kee isa ati
31 saba hundumaa duratti qopheessite argeera;
32 innis mul’ata Namoota Ormaatiif ifa;
saba kee Israa’eliif immoo ulfina.”
33 Abbaa fi haati isaas waan waa’ee isaa dubbatame sana ni dinqifatan.
34 Simi’oonis isaan eebbise; haadha daa’ima sanaa Maariyaamiinis akkana jedhe;
“Daa’imni kun Israa’el keessatti kufaatiidhaa fi ka’umsa namoota baay’eetiif sababii,
mormii isa irratti dubbatamuufis mallattoo akka ta’u murteeffameera; 35 kunis akka
yaadni garaa namoota baay’ee ifatti ba’uuf. Goraadeen lubbuu kee ni waraana.”
36 Gosa Aasheer keessaas raajittii Haannaa jedhamtu tokkotu ture. Isheenis
intala Faanu’el turte; baay’ees jaartee turte; dhirsa ishee kan durbummaadhaan
itti heerumte wajjin waggaa torba jiraatte; 37 isheenis hamma umuriin ishee
waggaa 84 guuteetti haadha hiyyeessaa taatee jiraatte. Utuu mana qulqullum-
maatii hin dhabaminis soomaa fi kadhannaadhaan halkanii guyyaa waaqeffachaa
turte. 38 Yeruma sanas isaanitti dhi’aattee Waaqaaf galata galchite; warra furama
Yerusaalem eeggachaa turan hundattis waa’ee daa’ima sanaa odeessite.
39 Yoosefii fi Maariyaamis waan seerri Gooftaa ajaju hunda raawwatanii gara
Galiilaatti gara magaalaa isaanii Naazreetitti deebi’an. 40 Mucichis guddatee
jabaachaa deeme; ogummaadhaanis ni guutame; ayyaanni Waaqaas isa irra ture.

### *Yesuus Mucichi Mana Qulqullummaa Keessatti*

41 Abbaa fi haati isaa wagguma waggaan Ayyaana Faasiikaatiif jedhanii Yerusaalem
dhaqaa turan. 42 Yommuu umuriin mucaa sanaa waggaa kudha lama[‡] guutettis
akkuma sirna Ayyaanichaatti Yerusaalemitti ol ba’an. 43 Erga ayyaanichi raawwatee
booddee utuu abbaa fi haati isaa gara mana isaaniitti deebi’aa jiranuu, Yesuus
mucichi Yerusaalemitti isaan biraa hafe; isaan garuu waan kana hin hubanne.
44 Isaanis waan inni miiltoo isaanii wajjin jiru se’anii guyyaa tokko deeman. Ergasiis
firoota isaaniitii fi michoota isaanii keessa isa barbaaduu jalqaban. 45 Yommuu isa
dhabanittis, isa barbaaduuf Yerusaalemitti deebi’an. 46 Guyyaa sadii booddee utuu
inni barsiistota gidduu taa’ee isaan dhaggeeffatuu, gaaffiis isaan gaafatuu mana

[*] **2:23** 2:23 Bau 13:2,12 [†] **2:24** 2:24 Lew 12:8 [‡] **2:42** 2:42 Ijoolleen dhiiraa Yihuudootaa yommuu umuriin isaanii waggaa kudha sadii guututti itti gaafatama ofii isaanii fudhatu. Ta’us yeroo sanaan dura utuu gargaarsa haadhaatii fi abbaa hin barbaadin ajajawwan tokko tokko eeguu qabu. Ajajawwan kanneen keessaas tokko waggaa waggaatti Yerusaalem dhaqanii waaqeffachuu dha.

qulqullummaa keessatti isa argatan. 47 Warri isa dhaga'an hundinuus hubannaa
isaatii fi deebii inni kennu ni dinqifatan. 48 Abbaa fi haati isaas yommuu isa arganitti
ni raajeffatan. Haati isaas, "Gurbaa, maaliif akkana nu goote? Kunoo, anii fi abbaan
kee yaaddoo guddaadhaan si barbaadaa turree!" jetteen.
49 Innis deebisee, "Maaliif na barbaaddan? Akka ani mana Abbaa kootti argamuu
qabu hin beekne moo?" isaaniin jedhe. 50 Isaan garuu dubbii inni isaanitti dubbate
hin hubanne.
51 Innis isaan wajjin Naazreetitti gad bu'e; isaaniifis ni ajajama ture. Haati isaa
garuu waan kana hunda garaatti qabatte. 52 Yesuusis ogummaadhaan, hojjaa fi
surraadhaan fuula Waaqaatii fi fuula namaa duratti guddachaa deeme.

# 3

*Lallaba Yohannis Cuuphaa*
*3:2-10 kwf – Mat 3:1-10; Mar 1:3-5*
*3:16,17 kwf – Mat 3:11,12; Mar 1:7,8*

1 Xibeeriyoos Qeesaar mo'ee waggaa kudha shanaffaatti jechuunis yommuu
Phonxoos Phiilaaxoos bulchaa Yihuudaa turetti, Heroodis bulchaa Galiilaa ture;
obboleessi isaa Fiiliphoos bulchaa Ixuriyaasii fi Xiraakonitiis, Lisaaniiyaas immoo
bulchaa Abileeniis turan; 2 yeroo sana Haannaasii fi Qayyaaffaan luboota ol aantota
turan. Dubbiin Waaqaa gammoojjii keessatti gara Yohannis ilma Zakkaariyaas dhufe.
3 Innis dhiifama cubbuutiif cuuphaa qalbii jijjiirrannaa lallabaa biyya naannoo
Yordaanos hunda keessa deeme. 4 Kunis isa kitaaba dubbii Isaayyaas raajichaa
keessatti akkana jedhamee barreeffamee dha:
"Sagalee nama gammoojjii keessaa iyyu tokkoo:
'Karaa Gooftaa qopheessaa;
daandii isaas qajeelchaa.
5 Sululli hundi ni guutama;
tulluu fi gaarri hundinuus gad deebifamu.
Karaan jal'aan ni qajeela;
daandiin bu'aa ba'iinis wal qixxeeffama.
6 Sanyiin namaa hundinuus fayyisuu Waaqaa ni arga.' "*
7 Yohannisis warra harka isaatti cuuphamuuf dhufaniin akkana jedhe; "Isin ijoollee
buutii nana! Dheekkamsa dhufu jalaa akka baqattaniif eenyutu isinitti hime? 8 Egaa
ija qalbii jijjiirrannaa mirkaneessu naqadhaa. Isin, 'Abbaan keenya Abrahaamii
dha' ofiin jechuu hin jalqabinaa. Waaqni dhagoota kanneen irraa Abrahaamiif
ijoollee kaasuu akka danda'u ani isinittan himaatii. 9 Qottoon amma iyyuu hidda
mukkeenii irra kaa'ameera; mukti ija gaarii hin naqanne hundinuus muramee
ibiddatti darbatama."
10 Namoonni sunis, "Yoos maal haa goonuu ree?" jedhanii isa gaafatan.
11 Yohannisis deebisee, "Namni uffata lama qabu isa homaa hin qabneef haa qoodu;
kan nyaata qabus akkasuma haa godhu" jedheen.
12 Qaraxxoonni cuuphamuu dhufanii, "Yaa barsiisaa, nu hoo maal haa goonu?"
jedhanii isa gaafatan.
13 Innis, "Waan ajajamtan caalaa walitti hin qabinaa" jedheen.
14 Loltoonnis akkasuma, "Nu immoo maal haa goonu ree?" jedhanii isa gaafatan.
Innis, "Humnaan nama irraa maallaqa hin fudhatinaa; sobaan nama hin himatinaa; mindaan keessan isin haa ga'u" jedheen.
15 Namoonni sun hawwiidhaan eegaa turan; hundi isaaniis, "Yohannis kun inni
Kiristoos† ta'innaa laata?" jedhanii garaa isaaniitti yaadaa turan. 16 Yohannis akkana

* **3:6** 3:6 Isa 40:3-5 † **3:15** 3:15 yookaan Masiihicha

jedhee isaan hundaaf deebii kenne; "Ani bishaaniin isin cuupha. Garuu kan na
caalaa jabaa ta'e tokko ni dhufa; ani hidhaa kophee isaa illee hiikuun naaf hin malu.
Inni Hafuura Qulqulluu fi ibiddaan isin cuupha. 17 Innis oobdii isaa qulqulleessee
gombisaa isaatti qamadii galfachuudhaaf afarsaan isaa harka isaa jira; habaqii garuu
ibidda hin dhaamneen guba." 18 Yohannisis dubbii biraa baay'eedhaan namoota
gorsee wangeelas isaanitti lallabe.
19 Heroodis bulchaan garuu yommuu sababii inni niitii obboleessa isaa Heroodiyaas
fuudhee fi sababii hammina inni hojjetee ture kaan hundaatiif Yohannis isa ifate,
20 hammina isaa hunda irratti dabalee Yohannisin mana hidhaatti galchee itti cufe.

### *Cuuphamuu Yesuus*
*3:21,22 kwf – Mat 3:13-17; Mar 1:9-11*
*3:23-38 kwf – Mat 1:1-17*

21 Yeroo namoonni hundinuu cuuphamaa turanitti, Yesuusis ni cuuphame. Utuu
inni kadhachaa jiruu samiin banamee, 22 Hafuurri Qulqulluun bifa gugeetiin mul'atee
isa irratti gad bu'e. Sagaleen, "Ati Ilma koo isa ani jaalladhuu dha; ani sitti nan
gammada" jedhu tokkos samii irraa ni dhufe.

### *Hidda Dhaloota Isaa*

23 Yesuus yeroo tajaajila isaa jalqabetti umuriin isaa gara waggaa soddomaa ture.
Innis akka waan ilma Yoosef tureetti yaadamaa ture:

ilma Eelii, 24 ilma Maataat,
ilma Lewwii, ilma Melkii,
ilma Yaanaa, ilma Yoosef,
25 ilma Maataatiyaas, ilma Amoos,
ilma Naahoom, ilma Asiiliim,
ilma Naagee, 26 ilma Maa'at,
ilma Maataatiyaas, ilma Semee'i,
ilma Yoosef, ilma Yoodaa,
27 ilma Yoonaan, ilma Resaa,
ilma Zarubaabel, ilma She'altii'eel,
ilma Neeri, 28 ilma Melkii,
ilma Hadii, ilma Qoosaam,
ilma Elmaadaam, ilma Eer,
29 ilma Iyyaasuu, ilma Elii'ezer,
ilma Yoorim, ilma Maataat,
ilma Lewwii, 30 ilma Simi'oon,
ilma Yihuudaa, ilma Yoosef,
ilma Yoonaan, ilma Eliyaaqeem,
31 ilma Meeleyaa, ilma Mennaa,
ilma Maataataa, ilma Naataan,
ilma Daawit, 32 ilma Isseey,
ilma Yoobeed, ilma Bo'eez,
ilma Salmoon, ilma Nahishoon,
33 ilma Amiinaadaab, ilma Aaraam,
ilma Hezroon, ilma Faares,
ilma Yihuudaa, 34 ilma Yaaqoob,
ilma Yisihaaq, ilma Abrahaam,
ilma Taaraa, ilma Naahoor,
35 ilma Seruug, ilma Re'uu,
ilma Feleg, ilma Eeber,
ilma Saalaa, 36 ilma Qaayinaam

ilma Arfaaksaad, ilma Seem,
ilma Nohi, ilma Laamehi,
37 ilma Matuuselaa, ilma Henook,
ilma Yaared, ilma Mahalaleel,
ilma Keenaan, 38 ilma Enoos,
ilma Seeti, ilma Addaam,
ilma Waaqaa.

# 4

### *Yesuus Qoramuu Isaa*
### *4:1-13 kwf – Mat 4:1-11; Mar 1:12,13*

1 Yesuus Hafuura Qulqulluudhaan guutamee Yordaanosii ka'ee Hafuuruma sanaan
gammoojjiitti geeffame; 2 achittis guyyaa afurtama diiyaabiloosiin qorame. Innis
guyyoota sana keessa homaa hin nyaanne; dhuma irrattis ni beela'e.
3 Diiyaabiloosis, "Ati yoo Ilma Waaqaa taate, akka dhagaan kun buddeena ta'u ajaji"
jedheen.
4 Yesuus immoo deebisee, " 'Namni buddeena qofaan hin jiraatu'[*]jedhamee
barreeffameera" jedheen.
5 Diiyaabiloosis gaara dheeraa tokkotti ol isa baasee hamma liphsuu ijaatti
mootummoota addunyaa hunda isatti argisiise. 6 Akkanas jedheen; "Ani taayitaa
isaaniitii fi ulfina isaanii hundumaa siifin kenna; taayitaa fi ulfinni kun waan naa
kennameef ani abbaa kennuufii barbaadeef kennuu nan danda'a. 7 Yoo ati naa
sagadde, wanni kun hundinuu kan kee ta'a."
8 Yesuus immoo, " 'Waaqa kee Gooftichaaf sagadi, isuma qofa tajaajili'[†]jedhamee
barreeffameera" jedhee deebiseef.
9 Diiyaabiloosis Yerusaalemitti isa geessee, fiixee mana qulqullummaa irra
dhaabachiise. Akkanas jedheen; "Ati yoo Ilma Waaqaa taate, asii gad of darbadhu.
10 Akkana jedhamee barreeffameeraatii:
" 'Inni akka isaan sirriitti si eeganiif,
ergamoota isaa siif ni ajaja;
11 isaanis akka ati miilla keetiin dhagaatti hin buuneef,
harka isaaniitiin ol si fuudhu.'[‡]"
12 Yesuus immoo deebisee, " 'Waaqa kee Gooftichа hin qorin'[§]jedhameera" jedheen.
13 Diiyaabiloos immoo erga qorumsa kana hunda raawwatee booddee hamma
yeroo mijaa'aa argatutti isa dhiisee deeme.

### *Yesuus Naazreetitti Fudhatama Dhabe*

14 Yesuus humna Hafuuraatiin Galiilaatti deebi'e; oduun waa'ee isaas baadiyyaa
guutuu keessa faffaca'e. 15 Inni manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa ture;
namni hundinuus isa jaje.
16 Innis Naazreeti iddoo itti guddate dhaqe; guyyaa Sanbataas akkuma amala
isaa mana sagadaa seene. Kitaaba dubbisuufis ka'ee dhaabate; 17 kitaabni raajicha
Isaayyaas isatti kenname. Innis kitaabicha banee kutaa akkana jedhamee barreef-
fame argate:
18 "Hafuurri Gooftaa narra jira;
akka ani hiyyeeyyiitti oduu gaarii lallabuuf,
inni na dibeeraatii.
Inni akka ani akka warri hidhaman hiikaman,
akka warri jaaman argan,
akka warri cunqurfamanis bilisa ba'an lallabuuf na ergeera;

[*] **4:4** 4:4 KeD 8:3 [†] **4:8** 4:8 KeD 6:13 [‡] **4:11** 4:11 Far 91:1,12 [§] **4:12** 4:12 KeD 6:16

19 inni akka ani bara tola Gooftaa labsuufis na ergeera.”*
20 Innis kitaabicha cufee tajaajiltichatti deebisee kennee taa’e; warri mana sagadaa
sana keessa turan hundinuus xiyyeeffatanii isa ilaalaa turan. 21 Innis, “Barreeffamni
kun har’a gurra keessanitti raawwatame” isaaniin jechuu jalqabe.
22 Hundi isaanii waa’ee isaa waan gaarii dubbachaa turan; dubbii ayyaan qabeessa
afaan isaatii ba’us ni dinqisiifatan. Isaanis, “Kun ilma Yoosef mitii?” jedhanii
gaafatan.
23 Yesuusis, “Akka isin, ‘Yaa abbaa qorichaa, of fayyisi! Waan Qifirnaahomitti
hojjechuu kee dhageenye sana as biyya keettis hojjedhu’ jettanii natti mammaaktan
ani shakkii hin qabu” isaaniin jedhe.
24 Innis itti fufee akkana jedhe; “Ani dhuguma isinitti nan hima; raajiin tokko
iyyuu iddoo itti dhalatetti fudhatama hin qabu. 25 Ani dhuguman isiniin jedha;
bara Eeliyaas yeroo samiin waggaa sadii fi walakkaa cufamee beelli hamaan bu’eetti
haadhota hiyyeessaa baay’eetu Israa’el keessa ture. 26 Ta’us Eeliyaas gara haadha
hiyyeessaa magaalaa Saraaphtaa biyya Siidoon keessa jiraattu tokkootti ergame
malee haadhota hiyyeessaa sana keessaa gara tokkoo isaaniitti illee hin ergamne.
27 Bara Elsaa’i raajichaas namoota lamxaa’an hedduutu Israa’el keessa ture; garuu
Na’amaan, namicha Sooriyaa tokkicha sana malee warra kaan keessaa namni tokko
iyyuu hin qulqulloofne ture.”
28 Namoonni manicha sagadaa keessa turan hundinuu yommuu waan kana
dhaga’anitti akka malee aaran. 29 Isaanis ka’anii magaalaa sana keessaa gad
isa baasan; gad isa darbachuuf jedhaniis ededa tulluu magaalaan isaanii irratti
ijaaramteetti ol isa baasan. 30 Inni garuu gidduudhuma isaanii ba’ee deeme.

### *Yesuus Hafuura Xuraa’aa Baasuu Isaa*
*4:31-37 kwf – Mar 1:21-28*

31 Innis gara Qifirnaahom, magaalaa Galiilaa keessaatti gad bu’e; guyyaa Sanbataas
namoota barsiise. 32 Isaanis waan dubbiin isaa taayitaa qabuuf barsiisa isaa ni
dinqisiifatan.
33 Namichi hafuura hamaa xuraa’aadhaan qabame tokko mana sagadaa keessa
ture. Innis sagalee guddaadhaan iyyee akkana jedhe; 34 “Uffi! Yaa Yesuus nama
Naazreeti, ati maal nurraa qabda? Nu balleessuu dhufte moo? Ati eenyu akka taate
ani nan beeka, yaa Qulqullicha Waaqaa!”
35 Yesuus immoo, “Cal’isii isa keessaa ba’i!” jedhee ifate. Hafuurri hamaan sunis
isaan hunda duratti namicha kuffisee utuu hin miidhin isa keessaa ba’e.
36 Namoonni hundinuu dinqifatanii, “Maal barsiisni akkanaa! Inni taayitaadhaan,
humnaanis hafuurota xuraa’oo ni ajaja; isaanis ni ba’u” waliin jedhan. 37 Oduun
waa’ee isaas biyya naannoo sanaa guutuu keessa faffaca’e.

### *Yesuus Nama Baay’ee Fayyise*
*4:38-41 kwf – Mat 8:14-17*
*4:38-43 kwf – Mar 1:29-38*

38 Yesuus mana sagadaatii ba’ee mana Simoon dhaqe. Haati niitii Simoonis
dhukkuba dhagna gubaa hamaadhaan qabamtee dhiphachaa turte; isaanis akka
Yesuus ishee gargaaru isa kadhatan. 39 Innis isheetti gad jedhee, dhagna gubaa sana
ifate; dhagna gubaan sunis ishee dhiise. Isheenis yeruma sana kaatee isaan tajaajiluu
jalqabde.
40 Namoonnis yeroo aduun lixxetti namoota dhukkuba gosa garaa garaa qaban
hunda gara Yesuus fidan; innis tokkoo tokkoo isaanii irra harka isaa kaa’ee isaan
fayyise. 41 Akkasumas hafuuronni hamoon iyyanii, “Ati Ilma Waaqaa ti!” jedhanii

* **4:19** 4:19 Isa 61:1,2

namoota baay'ee keessaa ba'an. Inni garuu sababii isaan akka inni Kiristoos† ta'e
beekaniif isaan ifate; akka isaan dubbatanis hin eeyyamneef.
42 Yommuu bari'ettis Yesuus achii ba'ee, iddoo namni hin jirre tokko dhaqe.
Namoonnis isa barbaadaa turan; yommuu gara isaa dhufanittis akka inni isaan
dhiisee hin deemneef isa dhowwuu yaalan. 43 Inni garuu, "Ani magaalaawwan
kaanittis wangeela mootummaa Waaqaa lallabuun qaba; sababiin ani ergameefis
kanuma" jedhe. 44 Innis ittuma fufee manneen sagadaa Yihuudaa keessatti lallabaa
ture.

# 5

### *Waamamuu Barattoota Jalqabaa*
*5:1-11 kwf – Mat 4:18-22; Mar 1:16-20; Yoh 1:40-42*

1 Gaaf tokko Yesuus utuu Haroo Geensereex bira dhaabatee jiruu, utuu namoonnis
isatti naanna'anii dubbii Waaqaa dhaga'aa jiranuu, 2 bidiruuwwan lama ededa
bishaanichaa irratti arge; qurxummii qabdoonni garuu keessaa ba'anii kiyyoo isaanii
miicachaa turan. 3 Innis bidiruuwwan sana gidduudhaa ishee kan Simoon taate tokko
yaabbate; akka inni qarqara lafaa irraa gara gidduu bishaaniitti xinnoo achi butus
isa kadhate. Yesuusis bidiruu sana irra taa'ee namoota barsiisuu jalqabe.
4 Innis yommuu dubbatee fixetti Simooniin, "Gara tuujuba bishaaniitti achi siqi;
qurxummii qabuufis kiyyoo keessan darbadhaa" jedhe.
5 Simoonis deebisee, "Yaa barsiisaa, nu halkan guutuu akka malee itti dadhabnee
waa tokko illee hin qabne. Ani garuu waan ati jetteef kiyyoo nan darbadha" jedhe.
6 Isaanis kiyyoo isaanii darbatanii hamma kiyyoon isaanii ciccituu jalqabutti
qurxummii akka malee baay'ee qabatan. 7 Kanaafuu akka michoonni isaanii warri
bidiruu kaan keessa turan dhufanii isaan gargaaraniif mallattoon waammatan;
isaanis dhufanii bidiruu lachuu qurxummiidhaan guutan; bidiruuwwan sunis
liqimfamuu jalqaban.
8 Simoon Phexrosis yommuu waan kana argetti jilba Yesuusitti kufee, "Yaa Gooftaa,
ani nama cubbamaa dha; narraa fagaadhu!" jedhe. 9 Kunis sababii qurxummiin
baay'een qabame sun Sim'oonii fi warra isa wajjin turan hunda dinqisiiseef; 10 ilmaan
Zabdewoos warri michoota Simoon turan jechuunis Yaaqoobii fi Yohannis akkasuma
dinqisiifatan.
Yesuusis Sim'ooniin, "Hin sodaatin; ati ammaa jalqabdee qabduu namootaa ni
taataa" jedhe. 11 Isaanis bidiruuwwan isaanii gara qarqaraatti ol baasanii waan
hunda dhiisanii isa duukaa bu'an.

### *Namicha Lamxaa'aa Tokko*
*5:12-14 kwf – Mat 8:2-4; Mar 1:40-44*

12 Utuu Yesuus magaalaawwan sana keessaa isa tokko keessa jiruu namichi dhagni
isaa guutuun lamxaa'e tokko gara isaa dhufe. Innis yommuu Yesuusin argetti adda
isaatiin lafatti gombifamee, "Yaa Gooftaa, yoo fedhii kee ta'e, ati na qulqulleessuu ni
dandeessa" jedhee isa kadhate.
13 Yesuusis harka isaa hiixatee namicha qaqqabee, "Fedhii koo ti; qulqullaa'i!"
jedheen; lamxiin sunis yeruma sana namicha irraa bade.
14 Yesuusis, "Nama tokkotti illee hin himin; garuu dhaqiitii akka isaaniif ragaa
ta'uuf lubatti of argisiisi; qulqullaa'uu keetiifis aarsaawwan Museen ajaje sana
dhi'eessi" jedhee isa ajaje.
15 Haa ta'uu malee oduun waa'ee isaa ittuma caalee faca'e; namoonni hedduunis
isa dhaga'uu fi dhukkuba isaanii irraa fayyuuf jedhanii gara isaa dhufaa turan.
16 Yesuus garuu yeroo baay'ee lafa namni hin jirre dhaqee kadhachaa ture.

† **4:41** 4:41yookaan Masiihii

### *Yesuus Nama Laamsha'aa tokko Fayyisuu Isaa*
*5:18-26 kwf – Mat 9:2-8; Mar 2:3-12*

17 Gaaf tokko Yesuus utuu barsiisaa jiruu, Fariisonnii fi barsiistonni seeraa warri
gandoota Galiilaatii fi Yihuudaa hunda keessaa akkasumas Yerusaalemii dhufan achi
tataa'aa turan. Akka inni dhukkubsattoota fayyisuufis humni Gooftaa isa wajjin ture.
18 Jarri tokko nama dhagni irratti du'e tokko sireedhaan baatanii dhufan; isaanis
fuula Yesuus dura isa kaa'uuf jedhanii manatti ol isa galchuu yaalan. 19 Sababii
baay'ina namaatiifis karaa ittiin ol isa galchan dhabnaan bantii manaatti ol ba'anii
qadaada bantii manaa saaqanii walakkaa namootaatiin fuula Yesuus duratti siree
isaatiin gad isa buusan.
20 Yesuusis yommuu amantii isaanii argetti, "Namichoo, cubbuun kee siif dhi-
ifameera" jedhe.
21 Fariisonnii fi barsiistonni seeraas, "Namichi Waaqa arrabsu kun eenyu? Waaqa
tokkicha malee eenyutu cubbuu namaaf dhiisuu danda'a?" jedhanii garaa isaaniitti
yaaduu jalqaban.
22 Yesuusis waan isaan yaadaa turan beekee akkana jedhee gaafate; "Isin maaliif
garaa keessan keessatti waan kana yaaddu? 23 'Cubbuun kee siif dhiifameera'
jechuu moo 'Ka'ii deemi' jechuutu salphaa dha? 24 Ani garuu akka Ilmi Namaa
cubbuu namaaf dhiisuudhaaf lafa irratti taayitaa qabu akka beektan nan barbaada."
Kanaafuu inni namicha dhagni irratti du'e sanaan, "Ani sitti nan hima; ka'i; siree
kee fudhadhuutii mana keetti gali" jedhe. 25 Innis yeruma sana ka'ee fuula isaanii
dura dhaabate; waan irra ciisaa tures fudhatee Waaqa jajachaa mana ofii isaatti
qajeele. 26 Hundi isaaniis dinqifatanii Waaqa jajan. Sodaadhaanis guutamanii, "Nu
har'a waan takkumaa hin ta'in argine" jedhan.

### *Waamamuu Lewwii*
*5:27-32 kwf – Mat 9:9-13; Mar 2:14-17*

27 Ergasii Yesuus achii ba'ee qaraxxuu Lewwii jedhamu tokko utuu inni iddoo itti
qaraxa walitti qaban taa'uu arge. Yesuusis, "Na duukaa bu'i" jedheen. 28 Lewwiinis
waan hunda dhiisee ka'ee isa duukaa bu'e.
29 Lewwiinis mana isaatti cidha guddaa Yesuusiif qopheesse; qaraxxoonnii fi
namoonni kaan baay'eenis isaan wajjin nyaachaa turan. 30 Fariisonnii fi Barsiistonni
seeraa kanneen garee isaanii ta'an garuu, "Isin maaliif qaraxxootaa fi cubbamoota
wajjin nyaattanii dhugdu?" jedhanii barattoota isaatti guunguman.
31 Yesuus immoo deebisee akkana isaaniin jedhe; "Ogeessi fayyaa tokko warra
dhukkubsataniif malee warra fayyaa qabaniif hin barbaachisu. 32 Ani cubbamoota
gara qalbii jijjiirrannaatti waamuufin dhufe malee qajeeltota waamuuf hin dhufne."

### *Yesuus Waa'ee Soomaa Gaafatamuu Isaa*
*5:33-39 kwf – Mat 9:14-17; Mar 2:18-22*

33 Isaanis, "Barattoonni Yohannis yeroo baay'ee ni soomu; ni kadhatus; barattoonni
Fariisotaas akkasuma godhu; barattoonni kee garuu ni nyaatu; ni dhugus" jedhaniin.
34 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; "Isin utuu inni isaan wajjin jiruu michoota
misirrichaa soomsisuu ni dandeessuu? 35 Garuu yeroon itti misirrichi isaan biraa
fudhatamu ni dhufa; isaanis yeroo sana ni soomu."
36 Innis akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; "Namni uffata moofaa erbuuf
jedhee huccuu uffata haaraa tarsaasu tokko iyyuu hin jiru. Yoo kun godhame, isaan
uffata haaraa sana tarsaasaniiru; erbeen haaraan sunis uffata moofaa wajjin wal hin
fudhatu. 37 Namni daadhii wayinii haaraa*qalqalloo moofaatti naqu tokko iyyuu hin

* **5:37** 5:37 Daadhii wayinii haaraa – Daadhii wayinii kan amma illee danfaa jiru yookaan kan hin bilchaatin jechuu dha.

jiru. Yoo itti naqe immoo daadhiin haaraan sun qalqalloo sana ni dhoosa; daadhiin
sun ni dhangala'a; qalqallichis horoomaa ba'a. 38 Qooda kanaa daadhiin wayinii
haaraan qalqalloo daadhii wayinii haaraatti naqamuu qaba. 39 Namni kam iyyuu
erga daadhii wayinii kan goge dhugee booddee daadhii wayinii haaraa hin barbaadu;
isaan, 'Daadhii wayinii kan goge wayya' jedhuutii."

# 6

### *Yesuus Gooftaa Sanbataa ti*
*6:1-11 kwf – Mat 12:1-14; Mar 2:23–3:6*

1 Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus lafa qotiisaa midhaanii keessa darbaa ture;
barattoonni isaas asheetii midhaanii ciratanii harka isaaniitiin sukkuummatanii
nyaachuu jalqaban. 2 Fariisota keessaas tokko tokko, "Isin maaliif waan Sanbataan
hojjechuun hin eeyyamamne hojjettu?" jedhanii gaafatan.
3 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Isin waan Daawit yeroo innii fi miiltonni
isaa beela'anitti godhe sana takkumaa hin dubbifnee? 4 Inni mana Waaqaa seenee
buddeena qulqulleeffame*kan luboota qofaaf eeyyamame fudhatee nyaate. Warra
isa wajjin jiraniifis kenne." 5 Yesuusis, "Ilmi Namaa Gooftaa Sanbataa ti" isaaniin
jedhe.
6 Sanbata biraas inni mana sagadaa seenee barsiisaa ture; namichi harki isaa
mirgaa irratti goge tokkos achi ture. 7 Fariisonnii fi barsiistonni seeraa Yesuusin
himachuuf jedhanii sababa barbaadaa turan; kanaafuu akka inni Sanbataan nama
fayyisu ilaaluuf isa gaadan. 8 Yesuus garuu waan isaan yaadan beekee namicha harki
irratti goge sanaan, "Ka'ii fuula nama hundaa dura dhaabadhu" jedhe. Innis ka'ee
achi dhaabate.
9 Yesuusis, "Anis isinan gaafadha; Sanbataan isa kamtu eeyyamamaa dha? Waan
gaarii hojjechuu moo waan hamaa hojjechuu? Lubbuu oolchuu moo balleessuu?"
isaaniin jedhe.
10 Gara galees hunda isaanii ilaalee namichaan, "Harka kee diriirfadhu" jedhe.
Innis akkasuma godhe; harki isaas guutumaan guutuutti fayye. 11 Fariisonnii fi
barsiistonni seeraa garuu akka malee aaranii Yesuusin maal gochuu akka danda'an
waliin mari'achuu jalqaban.

### *Ergamoota Kudha Lamaan*
*6:13-16 kwf – Mat 10:2-4; Mar 3:16-19; Hoj 1:13*

12 Yesuusis guyyoota sana keessaa gaaf tokko kadhannaadhaaf tulluutti ol ba'e;
halkan guutuus Waaqa kadhachaa bule. 13 Innis yommuu lafti bari'etti barattoota
isaa ofitti waamee nama kudha lama isaan keessaa filate; ergamoota jedhees isaan
moggaase.

14 Isaanis Simoon isa inni Phexros jedhee moggaase, obboleessa isaa Indiriiyaas,
Yaaqoob,
Yohannis,
Fiiliphoos,
Bartaloomewoos,
15 Maatewos,
Toomaas,
Yaaqoob ilma Alfewoos,
Simoon isa Hinaafticha jedhamee waamame,

* **6:4** 6:4 Buddeena kudha lamaan guyyaa Sanbataa mana Waaqaa keessa minjaala warqee dibame irra kaa'amuu dha. Buddeenni kun achitti Gooftaaf dhi'eeffama. Sanbata itti aanutti immoo lubootaaf kennama. Luboonnis iddoo qulqulluu tokkotti nyaachuu qabu.

16 Yihuudaa ilma Yaaqoob,
Yihuudaa Keeriyoticha isa Yesuusin dabarsee kenne.

### *Eebbaa fi Wayyoowwan*
*6:20-23 kwf – Mat 5:3-12*

17 Innis isaan wajjin gad bu'ee iddoo diriiraa tokko irra dhaabate. Tuunni
barattoota isaa guddaanis achi ture; namoonni Yihuudaa hunda keessaa, Yerusaalem
keessaa, biyya qarqara galaanaa kan naannoo Xiiroosii fi Siidoonaatii dhufan
baay'een, 18 warri isa dhaga'uu fi dhukkuba isaanii irraa fayyuuf dhufanis achi
turan. Warri hafuurota xuraa'oon dhiphachaa turanis ni fayyan; 19 sababii humni
isa keessaa ba'ee hunduma isaanii fayyisaa tureef, namoonni hundinuu isa tuquuf
carraaqaa turan.
20 Innis barattoota isaa ilaalee akkana jedhe:
"Isin warri hiyyeeyyiin eebbifamoo dha;
mootummaan Waaqaa kan keessaniitii.
21 Isin warri amma beeloftan eebbifamoo dha;
ni quuftuutii.
Isin warri amma boossan eebbifamoo dha;
ni kolfituutii.
22 Yommuu namoonni sababii Ilma Namaatiif jedhanii isin jibban,
yommuu isaan of keessaa isin baasanii fi isin arrabsan,
yommuu isaan maqaa keessan akka waan hamaa tokkootti tuffatan,
isin eebbifamoo dha.
23 "Sababii gatiin keessan samii keessatti guddaa ta'eef gaafa sana ililchaatii gam-
machuudhaan buburraaqaa. Abbootiin isaanii iyyuu akkasuma raajota godhaniitii.
24 "Garuu warri sooreyyiin isiniif wayyoo;
isin jajjabina keessan argattaniirtuutii.
25 Warri amma quuftan isiniif wayyoo,
beela'uuf jirtuutii,
warri amma kolfitan isiniif wayyoo;
wawwaachuu fi boo'uuf jirtuutii.
26 Yommuu namni hundinuu isin saadu isiniif wayyoo;
abbootiin isaanii iyyuu akkanuma raajota sobaa saadaa turaniitii.

### *Diina Ofii Jaallachuu*
*6:29,30 kwf – Mat 5:39-42*

27 "Ani garuu isin warra na dhageessanitti nan hima; diinota keessan jaalladhaa;
warra isin jibbaniif waan gaarii hojjedhaa; 28 warra isin abaaran eebbisaa; warra
isin miidhaniifis kadhadhaa. 29 Yoo namni tokko maddii tokko si kabale, maddii
kaanis itti qabi. Yoo namni tokko kootii kee sirraa baafate immoo, kittaa kee illee
hin dhowwatin. 30 Nama si kadhatu hundumaaf kenni; yoo namni kam iyyuu waan
kan kee ta'e fudhate, akka wanni sun siif deebifamu hin gaafatin. 31 Isinis akkuma
namoonni kaan akka isiniif godhan barbaaddan sana isaaniif godhaa.
32 "Isin warra isin jaallatan qofa yoo jaallattan, kun galata maalii isinii qaba?
Cubbamoonni iyyuu warra isaan jaallatan ni jaallatuutii. 33 Isin yoo warra waan
gaarii isinii godhaniif waan gaarii gootan, kun galata maalii isiniif qaba? Kana immoo
cubbamoonni iyyuu ni godhuutii. 34 Warruma akka isiniif deebisan abdattaniif yoo
liqeessitan galata maalii argattu? 'Cubbamoonni iyyuu' hammuma liqeessan sana
deebisanii argachuuf jedhanii cubbamootaaf ni liqeessuutii. 35 Isin garuu diinota
keessan jaalladhaa; waan gaariis isaaniif hojjedhaa; utuu waan isinii deebi'u tokko
illee hin abdatin isaaniif liqeessaa. Yoos gatiin keessan guddaa ni ta'a; isinis ijoollee
Waaqa Waan Hundaa Olii ni taatu; inni warra hin galateeffannee fi hamootaaf illee

arjaadhaatii. 36 Akkuma abbaan keessan araara qabeessa ta’e sana, isinis araara
qabeeyyii ta’aa.

*Namatti Muruu*
*6:37-42 kwf – Mat 7:1-5*

37 “Namatti hin murinaa; isinittis hin muramuutii. Nama hin yakkinaa; isinis hin
yakkamtanii. Dhiifamas godhaa; dhiifamni isinii godhamaatii. 38 Kennaa; isiniifis
ni kennamaa. Safartuun gaariin itti hudumame, kan sochoofamee fi guutamee
irra dhangala’e bobaa keessanitti isinii naqama. Safartuu ittiin safartaniinis isiniif
safaramaatii.”
39 Innis akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; “Jaamaan tokko jaamaa
qajeelchuu ni danda’aa? Isaan lachuu boolla keessa hin bu’anii? 40 Barataan
barsiisaa isaatii ol miti; namni guutumaan guutuutti leenjifame hundinuu garuu akka
barsiisaa isaa ni ta’a.
41 “Ati maaliif jirma ija kee keessa jiru arguu dhiiftee huuba ija obboleessa keetii
keessa jiru ilaalta? 42 Ati utuu ofii keetii jirma ija kee keessa jiru arguu hin danda’in,
akkamitti obboleessa keetiin, ‘Obboleessaa, kottu mee ani huuba ija kee keessa jiru
siif nan baasa’ jechuu dandeessa? Fakkeessituu nana, duraan dursiitii jirma ija kee
keessa jiru baafadhu; ergasiis huuba ija obboleessa keetii keessa jiru baasuudhaaf
sirriitti argita.

*Mukaa fi Ija Isaa*
*6:43,44 kwf – Mat 7:16,18,20*

43 “Mukni gaariin ija gadhee naqatu tokko iyyuu hin jiru; mukni gadheenis ija
gaarii hin naqatu. 44 Tokkoon tokkoon mukaa ija isaatiin beekama. Namoonni muka
qoraattii irraa harbuu, yookaan sokorruu irraa wayinii hin ciran. 45 Namni gaariin
waan gaarii garaa isaa keessatti kuufate keessaa waan gaarii baasa; namni hamaan
immoo waan hamaa garaa isaa keessatti kuufate keessaa waan hamaa baasa. Waan
garaa guute afaan dubbataatii.

*Ijaartota Manaa Lamaan*
*6:47-49 kwf – Mat 7:24-27*

46 “Isin waan ani jedhu hin hojjettan; yoos maaliif, ‘Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa’ naan
jettu? 47 Namni gara koo dhufu, kan dubbii koo dhaga’ee hojiidhaan argisiisu hundi
maal akka fakkaatu ani isinitti nan argisiisa. 48 Isaan nama mana ijaaru, kan boolla
gad fageessee qotee hundee mana sanaa kattaa irra dhaabe tokko fakkaatu. Sababii
manichi sirriitti ijaarameef, lolaan yeroo lola’ee humnaan itti bu’etti mana sana
sochoosuu hin dandeenye. 49 Namni dubbii koo dhaga’ee hojiidhaan hin argisiifne
garuu nama lafa irratti mana hundee hin qabne ijaarratu tokko fakkaata. Yeroo
lolaan humnaan itti bu’etti manni sun ni jige; guutumaan guutuuttis diigame.”

# 7

*Amantii Ajajaa Dhibbaa*
*7:1-10 kwf – Mat 8:5-13*

1 Yesuus yeroo waan kana hundumaa namoota isa dhaggeeffachaa turanitti himee
fixatetti, Qifirnaahom seene. 2 Achis tajaajilaan ajajaa dhibbaa kan gooftaan isaa akka
malee isa jaallatu tokko dhukkubsatee du’uu ga’ee ture. 3 Ajajaan dhibbaa sunis
waa’ee Yesuus dhaga’ee akka inni dhufee garbicha isaa fayyisuuf maanguddoota
Yihuudootaa isatti ergee kadhate. 4 Isaanis yommuu gara Yesuus dhufanitti akkana
jedhanii jabeessanii isa kadhatan; “Ati waan kana isaaf gochuun namicha kanaaf ni
mala; 5 inni saba keenya ni jaallataatii; mana sagadaas nuuf ijaareera.” 6 Kanaafuu
Yesuus isaan wajjin deeme.

Yeroo inni manichatti dhi’aatetti ajajaan dhibbaa sun akkana jedhee michoota isaa
Yesuusitti erge; “Yaa gooftaa of hin rakkisin; ati bantii mana koo jala seenuun naaf hin
maluutii. 7 Sababiin ani ofii koo akka nama gara kee dhufuun maluufitti hin ilaaliniif
iyyuu kanuma. Garuu dubbicha qofa dubbadhu; tajaajilaan koo ni fayyaatii. 8 Ani
mataan koo iyyuu nama taayitaa jala jiruu dha; loltootas of jalaa qaba. Isa tokkoon,
‘Deemi’ nan jedha; innis ni deema; isa kaaniin immoo, ‘Kottu’ nan jedha; innis ni
dhufa. Tajaajilaa kootiinis, ‘Waan kana hojjedhu’ nan jedha; innis ni hojjeta.”
9 Yesuus yommuu waan kana dhaga’etti isa dinqifate; namoota isa duukaa bu’aa
turanittis garagalee, “Ani isinittin hima; ani amantii guddaa akkanaa Israa’el
keessatti iyyuu hin arganne” jedhe. 10 Yommuu namoonni ergamanii turan manatti
deebi’anitti garbichi sun fayyee isaan eege.

*Yesuus Ilma Haadha Hiyyeessaa Du’aa Kaase*
*7:11-16 kwi – 1Mt 17:17-24; 2Mt 4:32-37; Mar 5:21-24,35-43; Yoh 11:1-44*

11 Yesuus ergasii magaalaa Naayin jedhamtu tokko dhaqe; barattoonni isaatii
fi namoonni baay’eenis isa wajjin dhaqan. 12 Yommuu inni karra magaalattiitti
dhi’aatetti jarri tokko nama du’e tokko baatanii isatti dhufan; namichi du’e sunis
haadha isaatiif ilma tokkicha ture; haati isaas haadha hiyyeessaa turte. Namoonni
magaalattii baay’eenis ishee wajjin turan. 13 Gooftaanis yommuu ishee argetti
na’eefii, “Hin boo’in” jedheen.
14 Innis itti dhi’aatee wasaasaa reeffa sanaa tuqe; warri reeffa baatanis ni
dhaabatan. Innis, “Gurbayyoo, ani siin nan jedhaa, ka’i!” jedheen. 15 Gurbaan du’e
sunis ka’ee taa’ee dubbachuu jalqabe; Yesuusis deebisee haadha isaatti isa kenne.
16 Hundi isaanii ni sodaatan; “Raajiin guddaan nu keessaa argameera. Waaqnis
saba isaa gargaaruuf dhufeera” jedhanii Waaqaaf ulfina kennan. 17 Oduun waa’ee
Yesuus kunis Yihuudaa guutuu fi biyya naannoo sana jiru hundumaa keessa faffaca’e.

*Yesuusii fi Yohannis Cuuphaa*
*7:18-35 kwf – Mar 11:2-19*

18 Barattoonni Yohannis waa’ee waan kana hundaa isatti himan. Yohannisis isaan
keessaa nama lama ofitti waamee, 19 “Inni dhufuuf jiru si’i moo yookaan kan biraa
eegganna?” jedhee gaafachuudhaaf Gooftaatti isaan erge.
20 Namoonni sunis yommuu gara Yesuus dhufanitti, “Yohannis cuuphaan, ‘Inni
dhufuuf jiru sun si’i moo yookaan kan biraa eegganna?’ jedhee gaafachuudhaaf sitti
nu ergeera” jedhaniin.
21 Yesuusis yeruma sana namoota dhibee, dhukkubaa fi hafuura hamaa qaban
hedduu fayyise; warra jaamaa turan baay’eedhaafis agartuu deebise. 22 Innis
akkana jedhee ergamoota sanaaf deebii kenne; “Deebi’aatii waan argitanii fi waan
dhageessan Yohannisitti himaa; jaamonni ni argu; warri naafatan ni deemu; warri
lamxaa’an ni qulqullaa’u; warri duudan ni dhaga’u; warri du’an ni ka’u; hiyyeeyyiifis
wangeelli ni lallabama. 23 Namni natti hin gufanne kam iyyuu eebbifamaa dha.”
24 Erga ergamoonni Yohannis ba’anii qajeelanii booddee Yesuus akkana jedhee
waa’ee Yohannis namootatti himuu jalqabe; “Isin maal arguuf gammoojjiitti gad
baatan? Shambaqqoo qilleensi raasu moo? 25 Yoos maal arguu baatan ree? Nama
uffata miidhagaa uffate moo? Lakki, warri uffata miidhagaa uffatanii qananiidhaan
jiraatan masaraawwan keessa jiru. 26 Garuu isin maal arguu baatan? Raajii moo?
Eeyyee; ani isinittin hima; kan raajii iyyuu caalu. 27 Kunis isa waa’een isaa akkana
jedhamee barreeffamee dha:
“ ‘Kunoo, ani ergamaa koo isa fuula kee duraan karaa kee qopheessu,
fuula kee dura nan erga.’*

* **7:27** 7:27 Mil 3:1

28 Ani isinittin hima; namoota dubartoota irraa dhalatan keessaa namni Yohannis
cuuphaa caalu tokko iyyuu hin jiru; namni mootummaa Waaqaa keessatti nama
hundumaa gad ta'e garuu isa ni caala."
29 Namoonni hundi, qaraxxoonni iyyuu waan harka Yohannisitti cuuphamanii
turaniif yommuu dubbii Yesuus dhaga'anitti, karaan Waaqaa qajeelaa ta'uu isaa
mirkaneessan.

*Yesuusii fi Fariisota*

30 Fariisonnii fi beektonni seeraa garuu sababii harka Yohannisitti hin cuuphaminiif
kaayyoo Waaqni isaaniif qabu fudhachuu didan.
31 Yesuus itti fufee akkana jedhe; "Yoos ani namoota dhaloota kanaa maaliinan wal
fakkeessuu danda'a ree? Isaan maal fakkaatu? 32 Isaan akkuma ijoollee iddoo gabaa
taa'anii wal waamanii akkana jedhanii ti:
" 'Nu ulullee isinii afuufne;
isin garuu hin sirbine;
faaruu boo'ichaas faarsine;
isin garuu hin boonye.'
33 Yohannis cuuphaan yeroo dhufetti buddeena hin nyaatu, daadhii wayiniis hin
dhugu tureetii; isin immoo, 'Inni hafuura hamaa qaba' jettu. 34 Ilmi Namaa
nyaachaa, dhugaas dhufe; isin immoo, 'Kunoo albaadhessaa fi machaa'aa, michuu
qaraxxootaatii fi cubbamootaa' jettu. 35 Ogummaan garuu ijoollee ishee hundumaan
mirkaneeffamti."

*Yesuus Shittoo Dibamuu Isaa*
*7:37-39 kwi – Mat 26:6-13; Mar 14:3-9; Yoh 12:1-8*
*7:41,42 kwi – Mat 18:23-34*

36 Fariisota keessaa namichi tokko akka inni isa wajjin nyaatuuf Yesuusin affeere;
innis mana Fariisichaa dhaqee maaddiitti dhi'aate. 37 Dubartiin cubbamtuun
magaalaa sanaa tokkos yommuu akka Yesuus mana Fariisichaatti waa nyaachaa
jiru bartetti bilqaaxxii albaasxiroositti shittoo qabattee dhufte. 38 Isheenis boo'aa
dugda isaa duubaan miilla isaa bira dhaabattee imimmaan isheetiin miilla isaa jiisuu
jalqabde. Rifeensa mataa isheetiinis miilla isaa haqxee, dhungattees miilla isaa
shittoo dibde.
39 Fariisichi isa affeere sunis waan kana argee, "Namichi kun utuu raajii ta'ee,
dubartiin isa tuqxu kun eenyu akka taate, nama akkamiis akka taate ni beeka ture;
isheen cubbamtuudhaatii" jedhee garaa isaa keessatti yaade.
40 Yesuus immoo, "Yaa Simoon, ani waanan sitti himu tokko qaba" jedheen.
Innis, "Yaa barsiisaa natti himi" jedhe.
41 Yesuusis akkana jedheen; "Namoonni lama nama maallaqa liqeessu tokko irraa
maallaqa liqeeffatan. Inni tokko diinaarii dhibba shan liqeeffate; kaan immoo
diinaarii shantama liqeeffate. 42 Jarri lachuu waan isaaf kaffalan dhabnaan dhiiseef.
Egaa jara lamaan keessaa kamtu caalaa isa jaallata?"
43 Simoonis deebisee, "Isa liqiin guddaan dhiifameef sana natti fakkaata" jedheen.
Yesuusis, "Ati dhugaa dubbatte" isaan jedhe.
44 Innis gara dubartittiitti garagalee Simooniin akkana jedhe; "Dubartii kana
argitaa? Ani mana kee nan dhufe. Ati bishaan miillaa illee naaf hin kennine; isheen
garuu imimmaan isheetiin miilla koo dhiqxee rifeensa mataa isheetiin haqxe. 45 Ati
na hin dhunganne; dubartiin kun garuu yeroo ani ol seenee jalqabdee miilla koo
dhungachuu hin dhiifne. 46 Ati Zayitii iyyuu mataa koo hin dibne; isheen garuu
miilla koo shittoo dibde. 47 Kanaafuu ani sittin hima; sababii jaalalli ishee guddaa
ta'eef cubbuun ishee baay'een sun isheef dhiifameera. Kan xinnoon dhiifameef garuu
jaalalli isaa xinnoo dha."

48 Yesuusis dubartittiidhaan, “Cubbuun kee siif dhiifameera” jedhe.
49 Warri isa wajjin maaddiitti dhi’aatanii turanis, “Namni cubbuu iyyuu namaa
dhiisu kun eenyu?” jedhanii garaa isaaniitti yaaduu jalqaban.
50 Yesuusis dubartittiidhaan, “Amantiin kee si fayyiseera; nagaan deemi” jedhe.

# 8

### *Fakkeenya Namicha Sanyii Facaasuu*
### *8:4-15 kwf – Mat 13:2-23; Mar 4:1-20*

1 Yesuusis ergasii wangeela mootummaa Waaqaa lallabaa magaalaa tokko irraa
gara magaalaa biraatti, ganda tokko irraas gara ganda biraatti naanna’aa ture. Warri
Kudha Lamaanis isa wajjin turan; 2 dubartoonni hafuurota hamoo fi dhibee irraa
fayyifaman tokko tokkos isa wajjin turan; isaanis Maariyaam ishee Magdalaa kan
hafuuronni hamoon torba ishee keessaa ba’an, 3 Yohaanaa niitii Kuuzaa isa eegduu
mana Heroodis turee, Suusanaa fi dubartoota biraa baay’ee turan. Dubartoonni
kunneenis waan qabaniin Yesuusii fi barattoota isaa tajaajilaa turan.
4 Yeroo tuunni guddaan walitti qabamee namoonnis magaalaa gara garaatii gara
isaa dhufanitti Yesuus akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime: 5 “Namichi
sanyii facaasu tokko sanyii facaafachuu ba’e. Utuu inni facaasaa jiruus sanyiin tokko
tokko karaa irra bu’ee irra ejjetame; simbirroonnis nyaatanii fixan. 6 Kaan immoo
lafa kattaa irra bu’e; innis waan jiidha hin qabneef yeroo biqiletti ni goge. 7 Sanyiin
biraas qoraattii keessa bu’e; qoraattiin sunis biqiltuu sana wajjin guddatee isa hudhe.
8 Ammas sanyiin kaan biyyoo gaarii irra bu’e. Ni biqile; ijas dachaa dhibba naqate.”
Innis yommuu waan kana dubbatetti lallabee, “Namni gurra dhaga’u qabu haa
dhaga’u” jedhe.
9 Barattoonni isaas hiikkaan fakkeenya kanaa maal akka ta’e isa gaafatan. 10 Innis
akkana jedhe; “Icciitii mootummaa Waaqaa beekuun isinii kennameera; warra
kaanitti garuu ani fakkeenyaan nan dubbadha; kunis,
“ ‘Akka isaan utuma ilaalanuu hin argineef,
utuma dhaga’anuus, hin hubanneef.’*
11 “Hiikkaan fakkeenyichaa kanaa dha: Sanyiin sun dubbii Waaqaa ti. 12 Sanyiin
karaa irraa sun namoota dubbicha dhaga’anii garuu akka isaan amananii hin fayyi-
neef diiyaabiloos dhufee dubbicha garaa isaanii keessaa fudhatuu dha. 13 Sanyiin
lafa kattaa irraa sunis warra yommuu dubbicha dhaga’anitti gammachuudhaan
fudhatanii dha; isaan garuu hidda hin qaban. Yeroof amanu malee yeroo qorum-
saatti ni ganu. 14 Sanyiin qoraattii keessa bu’es warra dubbicha dhaga’anii dha;
isaanis akkuma karaa isaanii itti fufaniin yaaddoo jireenyaatiin, badhaadhummaa
fi qananiidhaan hudhamu; hin bilchaatanis. 15 Sanyiin biyyoo gaarii irraa garuu
warra garaa tolaa fi gaariidhaan dubbicha dhaga’anii jabeessanii qabatanii obsaan
ija naqatan argisiisa.

### *Ibsaa fi Baattuu Isaa*

16 “Namni kam iyyuu ibsaa qabsiisee okkotee keessa hin dhoksu yookaan siree jala
hin kaa’u. Qooda kanaa akka warri ol seenan ifa arguu danda’aniif baattuu ibsaa
irra kaa’u. 17 Wanni dhokfamee utuu hin mul’ifamin hafu, wanni haguugamee utuu
hin beekamin hafu yookaan utuu ifatti hin baafamin hafu tokko iyyuu hin jiruutii.
18 Kanaaf akkamitti akka dhaggeeffattan qalbeeffadhaa. Kan qabu kamiif iyyuu itti
dabalamee ni kennama; kan hin qabne kam iyyuu garuu wanni inni waan qabu of
se’u iyyuu isa irraa fudhatama.”

* **8:10** 8:10 Isa 6:9

*Haadha Yesuusii fi Obboloota Isaa*
*8:19-21 kwf – Mat 12:46-50; Mar 3:31-35*

19 Haatii fi obboloonni Yesuus isa arguu dhufan; garuu sababii baay'ina namaatiif
isa bira ga'uu hin dandeenye. 20 Namni tokkos, "Haati keetii fi obboloonni kee si
arguu barbaadanii ala dhadhaabatanii jiru" jedhee isatti hime.
21 Innis, "Haati kootii fi obboloonni koo warra dubbii Waaqaa dhaga'anii hojii irra
oolchanii dha" jedhee deebise.

*Yesuus Bubbee Gab gochuu Isaa*
*8:22-25 kwf – Mat 8:23-27; Mar 4:36-41*
*8:22-25 kwi – Mar 6:47-52; Yoh 6:16-21*

22 Gaaf tokko Yesuus barattoota isaatiin, "Kottaa galaana gama ceenaa" jedhe.
Kanaafuu isaan bidiruu yaabbatanii qajeelan. 23 Inni utuu isaan bidiruudhaan
deemaa jiranuu hirribni qabee rafe. Bubbeen tokkos galaana sana irratti ka'ee,
bidiruun sun bishaaniin guutamuu jalqabe; isaanis balaa guddaa keessa seenan.
24 Barattoonnis dhaqanii, "Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa, nu dhumuuf jirra!" jedhanii
isa dammaqsan.
Innis ka'ee bubbee fi bishaan raafamaa ture sana ifate; bubbeen sunis gab jedhe;
wanni hundinuus ni tasgabbaa'e. 25 Barattoota isaas, "Amantiin keessan eessa jira?"
jedhee gaafate.
Isaanis sodaa fi dinqifannaadhaan, "Namichi bubbee fi bishaan illee ajaju kun
eenyu? Isaanis ni ajajamuuf" jedhanii wal gaafatan.

*Yesuus Hafuura Hamaa Baasuu Isaa*
*8:26-37 kwf – Mat 8:28-34*
*8:26-39 kwf – Mar 5:1-20*

26 Isaanis gara biyya Gergeesenoon ishee galaanaan gama fuullee Galiilaatti
argamtuutti bidiruudhaan ce'an. 27 Yommuu Yesuus qarqara galaanaatti bu'ettis
namichi magaalaa sanaa kan hafuura hamaadhaan qabamee ture tokko isatti dhufe.
Namichi kun yeroo dheeraadhaaf uffata hin uffatu ture; awwaala gidduu jiraata
malee mana keessa hin jiraatu ture. 28 Innis yommuu Yesuusin argetti iyyee miilla
isaa irratti kufe; sagalee ol fudhatee iyyees, "Yaa Yesuus Ilma Waaqa Waan Hundaa
Olii, ati maal narraa barbaadda? Ani sin kadhadha; na hin dhiphisin!" jedhe.
29 Yesuus akka hafuurri xuraa'aan sun namicha keessaa ba'u ajajee tureetii. Hafuurri
sunis yeroo baay'ee itti ka'aa ture; namichi sun yoo harkaa fi miilli isaa foncaan
hidhamee eegamaa ture iyyuu, hidhaa isaa of irraa kukkutee, hafuura hamaa sanaan
gara lafa namni hin jirreetti geeffamaa ture.
30 Yesuusis, "Maqaan kee eenyu?" jedhee isa gaafate.
Innis sababii hafuuronni hamoon baay'een isatti galanii turaniif, "Leegewoon"
jedhee deebise. 31 Hafuuronni hamoon sunis akka inni akka isaan Qilee keessa bu'an
isaan hin ajajneef Yesuusin kadhatan.
32 Hoomaan booyyee guddaan isaas gaara irra achi dheedaa ture. Hafuuronni
hamoon sunis akka inni akka isaan booyyeewwan sanatti galaniif isaanii eeyyamu
Yesuusin kadhatan; innis ni eeyyameef. 33 Yommuu hafuuronni hamoon sun namicha
keessaa ba'anii booyyeewwanitti galanitti, hoomaan sun ededa hallayyaa irraa gad
furguggifamee galaanatti nam'ee liqimfame.
34 Warri booyyeewwan tiksan sunis yommuu waan ta'e sana arganitti, baqatanii
magaalaa fi baadiyyaatti waan kana odeessan; 35 namoonnis waan ta'e sana ilaaluu
ba'an. Isaanis yommuu gara Yesuus dhufanitti namicha hafuuronni hamoon keessaa
ba'an sana wayyaa uffatee, qalbii isaattis deebi'ee miilla Yesuus jala taa'ee argan; ni
sodaatanis. 36 Warri waan kana arganii turanis namichi hafuura hamaan qabame

sun akkamitti akka fayye namootatti odeessan. 37 Kana irratti namoonni biyya
Gergeesenoon hundinuu waan sodaadhaan guutamaniif akka Yesuus isaan biraa
deemu isa kadhatan. Innis bidiruu yaabbatee achii deeme.
38 Namichi hafuuronni hamoon keessaa ba'an sun Yesuus wajjin deemuuf isa
kadhate; Yesuus garuu akkana jedhee of biraa isa deebise; 39 "Mana keetti deebi'iitii
wanni Waaqni siif godhe hammam guddaa akka ta'e odeessi." Namichis dhaqee
wanni Yesuus isaaf godhe hammam guddaa akka ta'e magaalaa sana hunda keessatti
odeesse.

*Mucattii Duutee fi Dubartii Dhukkubsatte*
*8:40-56 kwf – Mat 9:18-26; Mar 5:22-43*

40 Yommuu Yesuus deebi'etti namoonni baay'een isa simatan. Hundi isaanii isa
eeggachaa turaniitii. 41 Namichi Yaa'iiros jedhamu, bulchaan mana sagadaa tokko
dhufee miilla Yesuus irratti kufee akka inni mana isaa dhaqu isa kadhate; 42 sababiin
isaas intalli isaa tokkittiin, durbi umuriin ishee gara waggaa kudha lamaa ta'u tokko
du'uu geessee turte.
Utuu Yesuus deemaa jiruu namoonni qixa hundaan dhiibanii hafuura isa kutuu
ga'an. 43 Dubartiin dhiigni ishee waggaa kudha lama dhangala'aa ture tokkos achi
turte; garuu namni tokko iyyuu ishee fayyisuu hin dandeenye. 44 Isheenis dugda isaa
duubaan dhuftee handaara uffata isaa tuqxe; dhiigni ishees yommusuma cite.
45 Yesuusis, "Eenyutu na tuqe?" jedhee gaafate.
Yommuu hundi isaanii haalanitti Phexros, "Yaa barsiisaa namoonni tuutta'anii si
dhiibaa jiru" jedhe.
46 Yesuus garuu, "Namni wayii na tuqeera; ani akka humni na keessaa ba'e nan
beekaa" jedhe.
47 Dubartittiinis akka utuu hin beekamin deemuu hin dandeenye hubannaan
hollachaa dhuftee miilla isaa irratti kufte. Isheenis maaliif akka isa tuqxee fi
akkamittis akka yommusuma fayyite namoota sana hunda duratti dubbate. 48 Kana
irratti inni, "Yaa intalaa, amantiin kee si fayyiseera. Nagaan deemi" jedheen.
49 Utuu Yesuus dubbachaa jiruus namni tokko mana Yaa'iiroos bulchaa mana
sagadaatii dhufee, "Intalli kee duuteerti; ati si'achi barsiisicha hin rakkisin" jedhe.
50 Yesuus garuu yommuu dhaga'etti Yaa'iiroosiin, "Amani malee hin sodaatin;
isheen ni fayyitii" jedhe.
51 Inni yommuu mana Yaa'iiroos ga'etti Phexros, Yohannisii fi Yaaqoob akkasumas
abbaa fi haadha intalattii malee akka namni tokko iyyuu isa wajjin ol seenu hin
eeyyamne. 52 Kana irratti namoonni hundinuu isheef wawwaachaa, faarsaas turan.
Yesuus garuu, "Hin boo'inaa; isheen ni rafti malee hin duuneetii" jedhe.
53 Isaan immoo akka isheen duute waan beekaniif isatti kolfan. 54 Inni garuu
harka ishee qabee, "Intala ko, ka'i!" jedhe. 55 Hafuurri ishees ni deebi'e; isheenis
yommusuma kaatee dhaabatte. Ergasii Yesuus akka isaan waan isheen nyaattu isheef
kennan isaanitti hime. 56 Abbaa fi haati ishees ni dinqifatan; inni garuu akka isaan
waan ta'e sana nama tokkotti illee hin himne isaan ajaje.

# 9

*Yesuus Barattoota Kudha Lamaan Erguu Isaa*
*9:3-5 kwf – Mat 10:9-15; Mar 6:8-11*
*9:7-9 kwf – Mat 14:1,2; Mar 6:14-16*

1 Yesuus warra Kudha Lamaan walitti waamee, akka isaan hafuurota hamoo
hunda baasanii fi akka dhibeewwan fayyisaniif humnaa fi taayitaa kenneef; 2 inni
akka isaan mootummaa Waaqaa labsanii fi akka dhukkubsattoota fayyisaniif isaan

erge. [3] Akkanas isaaniin jedhe; “Adeemsa keessaniif waan tokko illee jechuunis ulee
yookaan korojoo yookaan buddeena yookaan maallaqa akkanumas kittaa lama hin
qabatinaa. [4] Mana seentan kam iyyuu keessa hamma magaalaa sanaa baatanitti
achuma turaa. [5] Yoo namoonni isin simachuu baatan, magaalaa isaaniitii ba’aatii
akka ragaa isaanitti ta’uuf awwaara miilla keessanii dhadha’adhaa.” [6] Isaanis achii
ba’anii iddoo hundatti wangeela lallabaa, namootas fayyisaa ganda tokko irraa gara
ganda kaanii deemaa turan.
[7] Heroodis bulchaan waa’ee waan ta’aa ture hundaa dhaga’e. Innis waan
namoonni tokko tokko Yohannis cuuphaan warra du’an keessaa kaafameera jechaa
turaniif, [8] warri kaanis Eeliyaas mul’ateera jechaa waan turaniif, warri kaan immoo
raajota durii keessaa inni tokko du’aa ka’eera jechaa waan turaniif akka malee
burjaaja’e. [9] Heroodis garuu, “Ani Yohannisin mataa isaa kuteen ture. Yoos namichi
ani waa’ee isaa waan akkanaa dhaga’u kun eenyu ree?” jedhe. Yesuusin arguufis ni
hawwa ture.

*Yesuus Nama Kuma Shan Sooruu Isaa*
*9:10-17 kwf – Mat 14:13-21; Mar 6:32-44; Yoh 6:5-13*
*9:13-17 kwi – 2Mt 4:42-44*

[10] Ergamoonnis yommuu deebi’anitti waan hojjetanii turan Yesuusitti himan.
Innis ofitti isaan fudhate; isaanis ofumaan gara magaalaa Beetisayidaa jedhamtuu
dhaqan; [11] namoonni baay’een garuu waan kana beekanii isa duukaa bu’an. Innis
isaan simatee waa’ee mootummaa Waaqaa isaanitti hime; warra fayyuun isaan
barbaachises ni fayyise.
[12] Gara galgalaatti warri Kudha Lamaan gara isaa dhufanii, “Waan nu as gammoojjii
keessa jirruuf, akka namoonni kunneen gara gandootaatii fi baadiyyaa naannoo
kana jiranii dhaqanii waan nyaatanii fi iddoo bultii barbaadataniif isaan gad dhiisi”
jedhaniin.
[13] Inni immoo, “Isinuu waan isaan nyaatan kennaafii” jedhee deebise.
Isaanis, “Nama kana hundaaf nyaata yoo dhaqnee binne malee nu buddeena shanii
fi qurxummii lama qofa qabna” jedhanii deebisan. [14] Dhiira gara kuma shantu achi
ture.
Inni garuu barattoota isaatiin, “Garee tokkoon tokkoon isaa gara nama shantama
shantamaa qabuun isaan teessisaa” jedhe. [15] Barattoonnis akkasuma godhan; namni
hundis ni taa’e. [16] Innis buddeena shananii fi qurxummii lamaan fuudhee, gara
samii ol ilaalee galata galchee caccabse. Ergasii akka isaan namootaaf dhi’eessaniif
barattootatti kenne. [17] Isaan hundi nyaatanii quufan; barattoonnis hurraa’aa
hambifame gundoo kudha lama guutuu walitti qaban.

*Phexros Eenyummaa Kiristoos Beeksise*
*9:18-20 kwf – Mat 16:13-16; Mar 8:27-29*
*9:22-27 kwf – Mat 16:21-28; Mar 8:31–9:1*

[18] Gaaf tokko Yesuus kophaa isaa kadhannaa irra ture; barattoonni isaas isa wajjin
turan. Innis, “Namoonni anaan eenyu jedhu?” jedhee isaan gaafate.
[19] Isaanis, “Namoonni tokko tokko inni Yohannis Cuuphaa dha jedhu; warri kaan
inni Eeliyaas jedhu; kaan immoo raajota durii keessaa isa tokkotu du’aa ka’e jedhu”
jedhanii deebisan.
[20] Innis, “Isin hoo? Eenyu anaan jettu?” jedhee gaafate.
Phexrosis, “Ati Kiristoos* Waaqaa ti” jedhee deebise.
[21] Yesuusis akka isaan waan kana nama tokkotti illee hin himneef jabeessee isaan
akeekkachiise. [22] Innis, “Ilmi Namaa waan hedduun dhiphachuu, maanguddootaan,

* **9:20** 9:20yookaan Masiihii

luboota hangafootaa fi barsiistota seeraatiin tuffatamuu, ajjeefamuu fi guyyaa
sadaffaatti immoo du'aa ka'uu qaba" jedhe.
23 Ergasii inni hunduma isaaniitiin akkana jedhe; "Namni kam iyyuu yoo na faana
dhufuu barbaade, inni of haa ganu; fannoo isaa guyyuma guyyaan baadhatees na
duukaa haa bu'u. 24 Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu kam iyyuu lubbuu isaa
ni dhabaatii; garuu namni naaf jedhee lubbuu isaa dhabu kam iyyuu lubbuu isaa ni
oolfata. 25 Namni yoo addunyaa guutuu argatee ofii isaa immoo dhabe yookaan yoo
gatame inni bu'aa maalii argata? 26 Nama anattii fi dubbii kootti qaana'u kam iyyuu
Ilmi Namaa yommuu ulfina isaatiin, ulfina Abbaatii fi ulfina ergamoota qulqulluutiin
dhufutti isatti ni qaana'a.
27 "Ani dhuguman isinitti hima; warra as dhadhaabachaa jiran keessaa namoonni
tokko tokko utuu mootummaa Waaqaa hin argin du'a hin dhandhaman."

### *Bifti Yesuus Geeddaramuu Isaa*
*9:28-36 kwf – Mat 17:1-8; Mar 9:2-8*

28 Yesuus erga waan kana dubbatee gara guyyaa saddeetii booddee Phexros,
Yohannisii fi Yaaqoobin fudhatee kadhannaadhaaf tulluu tokkotti ol ba'e. 29 Utuu
inni kadhachaa jiruus bifti fuula isaa geeddarame; uffanni isaas adii calaqqisu ta'e.
30 Kunoo namoonni lama jechuunis Musee fi Eeliyaas, ulfina guddaadhaan mul'atanii
Yesuus wajjin haasa'aa turan. 31 Isaanis ulfinaan mul'atanii waa'ee addunyaa kana
irraa deemuu isaa kan inni Yerusaalemitti raawwachuuf jiru sanaa dudubbachaa
turan. 32 Phexrosii fi warri isa wajjin turan garuu akka malee mugan; yeroo
dammaqanitti immoo ulfina Yesuusii fi namoota Yesuus wajjin dhadhaabachaa turan
lamaan argan. 33 Phexrosis akkuma namoonni sun Yesuus biraa deemuu jalqabaniin,
"Yaa Gooftaa, as jiraachuun nuuf gaarii dha. Daasii sadii jechuunis tokko siif, tokko
Museef, tokko immoo Eeliyaasiif ni ijaarra" jedhe. Inni waan dubbatu hin beeku ture.
34 Utuma inni dubbachaa jiruu duumessi tokko dhufee isaan haguuge; isaanis
yommuu duumessa sana keessa seenanitti ni sodaatan. 35 Sagaleen, "Kun Ilma koo
isa ani filadhee dha; isinis isa dhaga'aa" jedhu tokko duumessicha keessaa dhufe.
36 Yommuu sagaleen sun dubbatetti, Yesuus kophaa isaa argame. Barattoonnis ni
cal'isan malee waan argan keessaa tokko illee yeroo sanatti nama tokkottuu hin
himne.

### *Yesuus Gurbaa Tokko Fayyise*
*9:37-45 kwf – Mat 17:14-18,22,23; Mar 9:14-27,30-32*

37 Guyyaa itti aanu, yommuu isaan tulluu irraa gad bu'anitti namoonni baay'een
isatti dhufan. 38 Namoota sana keessaas namichi tokko iyyee akkana jedhe; "Yaa
Barsiisaa akka ati ilma koo naa ilaaltu sin kadhadha; inni anaaf mucaa tokkichaatii.
39 Hafuurri wayii itti ka'a; gurbichis akkuma tasaa iyya; hafuurri sun lafaan dha'ee
isa dhidhiitachiisa. Gurbichis hoomacha afaaniin baasa; hafuurichi dafee irraa hin
galu; yeroo hundas isa miidha. 40 Ani akka hafuura sana baasaniif barattoota kee
nan kadhadhe; isaan garuu hin dandeenye."
41 Yesuusis deebisee, "Isin dhaloota hin amannee fi jal'aa nana; ani hamma
yoomiitti isin wajjin jiraadha? Hamma yoomiittis isinii obsa?" jedhe. Namichaanis,
"Mee ilma kee as fidi" jedhe.
42 Utuma gurbaan sun gara Yesuus dhufaa jiruus, hafuurri hamaan sun lafaan
dha'ee isa dhidhiitachiise. Yesuus garuu hafuura xuraa'aa sana ifate; gurbichas
fayyisee abbaa isaatiif kenne. 43 Hundumti isaaniis humna Waaqaa isa jabaa sana
ni dinqifatan.

Utuu hundi isaanii waan Yesuus hojjete sana dinqisiifachaa jiranuu inni barattoota
isaatiin akkana jedhe; 44 “Waan ani isinitti himuuf jiru of eeggannaadhaan dhagge-
effadhaa: Ilmi Namaa dabarfamee harka namootaatti ni kennama.” 45 Isaan garuu
dubbii kana hin hubanne. Akka isaaniif hin galleefis isaan jalaa dhokfamee ture;
isaan waa’ee waan kanaa isa gaafachuus ni sodaatan.

*Namni Nama Hunda Caalu Eenyu?*
*9:46-48 kwf – Mat 18:1-5*
*9:46-50 kwf – Mar 9:33-40*

46 Isaan keessaa namni nama hundumaa caalu eenyu akka ta’e barattoota gidduutti
wal falmiin ka’e. 47 Yesuusis waan isaan garaatti yaadan beekee mucaa xinnaa tokko
fidee of bira dhaabe; 48 akkanas isaaniin jedhe; “Namni mucaa xinnaa kana maqaa
kootiin simatu kam iyyuu na simata; namni na simatus isa na erge sana simata;
namni isin hundaa gad ta’e inni hunda caalaatii.”
49 Yohannisis, “Yaa Barsiisaa, nu utuu namni tokko maqaa keetiin hafuurota hamoo
baasuu arginee waan inni nu duukaa hin buuneef isa dhowwine” jedhe.
50 Yesuus garuu, “Isa hin dhowwinaa; namni isiniin hin mormine kam iyyuu gara
keessan jiraatii” jedhe.

*Mormii Warra Samaariyaa*

51 Yesuusis yommuu yeroon inni itti gara samiitti ol fudhatamu ga’etti Yerusaalem
dhaquuf hidhatee ka’e. 52 Innis ergamoota of dura erge; isaanis waan isa barbaachisu
qopheessuudhaaf ganda Samaariyaa tokko seenan. 53 Namoonni naannoo sanaa
garuu sababii inni fuula isaa Yerusaalemitti deebifatee deemaa tureef isa hin
simanne. 54 Barattoonni isaa jechuunis Yaaqoobii fi Yohannis yommuu waan kana
arganitti, “Yaa Gooftaa, akka inni isaan balleessuuf, akka nu samii irraa ibidda gad
waamnu barbaaddaa?” jedhan. 55 Yesuus garuu garagalee isaan ifate. 56 Isaanis
darbanii ganda biraa dhaqan.

*Yesuus Duukaa Bu’uun Gatii Nama Baasisa*
*9:57-60 kwf – Mat 8:19-22*

57 Utuu isaan karaa deemaa jiranuus namichi tokko Yesuusiin, “Ani iddoo ati
dhaqxu hundatti si duukaa nan bu’a” jedhe.
58 Yesuusis deebisee, “Waangoonni boolla qabu; simbirroonnis man’ee qabu; Ilmi
Namaa garuu iddoo itti mataa isaa irkifatu illee hin qabu” jedhe.
59 Nama biraatiinis, “Na duukaa bu’i!” jedhe.
Namichi garuu, “Yaa Gooftaa, dura akka ani dhaqee abbaa koo awwaalladhu naa
eeyyami” jedhee deebise.
60 Yesuusis, “Warri du’an du’aa isaanii haa awwaallatan; ati garuu dhaqiitii
mootummaa Waaqaa lallabi” jedheen.
61 Ammas namni biraa, “Yaa Gooftaa, anis si duukaa nan bu’a; garuu dura akka
ani dhaqee maatii kootti nagaa dhaamadhu naa eeyyami” jedhe.
62 Yesuusis deebisee, “Namni harkaan hordaa qabatee of duuba ilaalu kam iyyuu
mootummaa Waaqaatiif hin malu” jedhe.

# 10

*Yesuus Nama Torbaatamii Lama Ergu Isaa*
*10:4-12 kwf – Luq 9:3-5*
*10:13-15,21,22 kwf – Mat 11:21-23,25-27*
*10:23,24 kwf – Mat 13:16,17*

1 Kana booddee Gooftaan namoota biraa 72 muudee gara magaalaawwanii fi lafa
ofii dhaquuf ture hundaatti lama lamaan of dura isaan erge. 2 Akkanas isaaniin
jedhe; “Midhaan walitti qabamu baay’ee dha; hojjettoonni garuu muraasa. Kanaaf
akka Gooftaan midhaan sanaa gara lafa qotiisaa midhaan isaatti hojjettoota erguuf
isa kadhadhaa. 3 Deemaa! Ani akka ilmoolee hoolaa gara gidduu yeeyyiitti isin erga.
4 Borsaa yookaan korojoo yookaan kophee hin qabatinaa; karaa irrattis nama tokko
illee nagaa hin gaafatinaa.
5 “Yeroo mana tokko seentanitti dursaatii, ‘Nagaan mana kanaaf haa ta’u’ jedhaa.
6 Yoo namni nagaa achi jiraate, nagaan keessan isaaf ta’a; yoo kanaa achii nagaan
keessan isiniif deebi’a. 7 Waan isaan isinii kennan hunda nyaachaa, dhugaas achuma
turaa; hojjetaaf mindaa isaa argachuun ni malaatii. Manaa gara manaatti hin labinaa.
8 “Yeroo magaalaa tokko seentanii simatamtanitti waanuma isinii dhi’aate nyaad-
haa. 9 Dhukkubsattoota achi jiran fayyisaatii, ‘Mootummaan Waaqaa isinitti
dhi’aateera’ jedhaa isaanitti himaa. 10 Yoo magaalaa tokko seentanii isin simachuu
baatan garuu gara daandii magaalaatti ba’aatii akkana jedhaa; 11 ‘Nu akka
akeekkachiisa isinii ta’uuf awwaara magaalaa keessanii illee miilla keenya irraa
dhadha’anna. Ta’us waan kana beekaa: Mootummaan Waaqaa dhi’aateera.’ 12 Ani
isinittin hima; gaafas magaalaa sana irra Sodoomiif ni salphata.
13 “Yaa Koraaziin siif wayyoo! Yaa Beetisayidaa siif wayyoo! Hojiin dinqii kan isin
keessatti hojjetame sun utuu Xiiroosii fi Siidoonaa keessatti hojjetamee jiraatee isaan
silaa yeroo dheeraan dura uffata gaddaa uffatanii, daaraa keessas tataa’anii qalbii
jijjiirratu turan. 14 Garuu guyyaa murtiitti isin irra Xiiroosii fi Siidoonaaf ni salphata.
15 Atis yaa Qifirnaahom, hamma samiitti ol kaafamtaa? Lakki, Sii’oolitti gad buuta.
16 “Namni isin dhaga’u kam iyyuu na dhaga’a; namni isin dhaga’uu didu anas
dhaga’uu dida; namni na dhaga’uu didu immoo isa na erge sana dhaga’uu dida.”
17 Namoonni torbaatamii lamaan sunis gammachuudhaan deebi’anii, “Yaa Gooftaa,
hafuuronni hamoon iyyuu maqaa keetiin nuu ajajamaniiru” jedhan.
18 Yesuusis deebisee akkana jedhe; “Ani utuu Seexanni akkuma balaqqeetti samii
irraa bu’uu nan arge. 19 Kunoo, ani akka isin bofaa fi torbaanqabaa lafatti
dhidhiittanii fi akka humna diinaa hundas mo’attaniif aangoo isinii kenneera;
wanni kam iyyuu isin hin miidhu. 20 Garuu sababii maqaan keessan samii
keessatti barreeffameef gammadaa malee sababii hafuuronni isinii ajajamaniif hin
gammadinaa.”
21 Yesuus yeroo sana Hafuura Qulqulluudhaan gammachuun guutamee akkana
jedhe; “Yaa Abbaa, Gooftaa samiitii fi lafaa, sababii ati wantoota kanneen ogeeyyii
fi hubattoota jalaa dhoksitee daa’immanitti mul’ifteef ani sin galateeffadha. Eeyyee
yaa Abbaa, ati waan kana gochuutti gammaddeertaatii.
22 “Abbaan koo waan hunda dabarsee natti kenneera. Abbaa malee namni tokko
iyyuu Ilmi eenyu akka ta’e hin beeku; Ilmaa fi nama Ilmi isa itti mul’isuu fedhu malee
namni tokko iyyuu Abbaan eenyu akka ta’e hin beeku.”
23 Barattoota isaattis garagalee kophaatti akkana jedheen; “Iji waan isin argitan
argu eebbifamaa dha. 24 Ani isinittin himaatii raajonnii fi mootonni baay’een waan
isin argitan kana arguu barbaadan; garuu hin argine. Waan isin dhageessan kanas
dhaga’uu barbaadan; garuu hin dhageenye.”

### *Fakkeenya Namicha Samaariyaa Tokkoo*
### *10:25-28 kwf – Mat 22:34-40; Mar 12:28-31*

25 Gaaf tokko, hayyuun seeraa tokko Yesuusin qoruuf jedhee ka’ee dhaabate. Innis,
“Yaa Barsiisaa, ani jireenya bara baraa dhaaluudhaaf maal gochuun qaba?” jedhee
gaafate.

26 Yesuusis deebisee, “Seera keessatti maaltu barreeffame? Atis akkamitti
dubbifta?” jedheen.
27 Namichis, “ ‘Waaqa kee Goofticha garaa kee guutuudhaan, lubbuu kee guutu-
udhaan, humna kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan jaalladhu;[*] ollaa kees
akkuma ofii keetiitti jaalladhu’[†]” jedhee deebise.
28 Yesuusis, “Sirriitti deebifteerta; atis kanuma godhi ni jiraattaa” jedheen.
29 Namichi sun garuu qajeelaa of gochuu barbaadee, “Ollaan koo eenyu?” jedhee
Yesuusin gaafate.
30 Yesuusis deebisee akkana jedhe; “Namichi tokko utuu Yerusaalemii ba’ee
Yerikootti gad bu’aa jiruu harka saamtotaa seene. Isaanis uffata isaa irraa baafatanii,
tumanii, du’aa fi jireenya gidduutti isa dhiisanii deeman. 31 Lubni tokko utuu akkuma
tasaa karaa sanaan gad bu’uu namicha argee irraa goree darbe. 32 Akkasumas
namichi gosa Lewwii tokko yommuu iddoo sana ga’eetti namicha sana argee irraa
goree darbe. 33 Namichi Samaariyaa tokko garuu utuu deemaa jiruu iddoo namichi
sun jiru ga’e; yommuu isa argettis garaa laafeef. 34 Innis itti dhi’aatee zayitii
fi daadhii wayinii madaa isaatti naqee hidheef; harree isaa irras kaa’ee, mana
boqonnaa keessummootaatti isa geesse; achittis isa gargaare. 35 Guyyaa itti aanutti
diinaarii lama baasee abbaa mana boqonnaa sanaatti kennee, ‘Namicha kana ittiin
naa wal’aani; yoo kana caalaa baaftes ani yeroon deebi’ee dhufutti siifin kenna’
jedheen.
36 “Egaa jara sadan kanneen keessaa ollaan namicha harka saamtotaa seene sanaa
isa kam seeta?”
37 Hayyuun seeraa sunis, “Isa garaa laafeef sana” jedheen.
Yesuusis, “Atis dhaqiitii akkasuma godhi” jedheen.

### *Yesuus mana Maartaatii fi Maariyaam Dhaqu Isaa*

38 Utuu karaa deemaa jiranuu Yesuus ganda tokko seene; dubartiin Maartaa
jedhamtu tokkos mana isheetti isa simatte. 39 Isheenis obboleettii Maariyaam
jedhamtu tokko qabdi turte; Maariyaamis miilla Gooftaa jala teessee waan inni jedhu
dhaggeeffachaa turte. 40 Maartaan garuu baay’ina hojiitiin waan dadhabaa turteef
gara isaa dhuftee, “Yaa Gooftaa, obboleettiin koo akka ani hojii hunda kophaa koo
hojjedhu natti dhiisuun ishee si hin gaddisiisuu? Akka isheen na gargaartu itti himi!”
jette.
41 Gooftaanis deebisee akkana jedheen; “Yaa Maartaa, yaa Maartaa, ati waa’ee
waan baay’ee yaaddofta; ni raafamtas. 42 Wanni barbaachisu garuu waanuma tokko
qofa; Maariyaam isa caalu filatteerti; innis ishee irraa hin fudhatamu.”

# 11

### *Yesuus Waa’ee Kadhannaa Barsiisuu Isaa*
*11:2-4 kwf – Mat 6:9-13*
*11:9-13 kwf – Mat 7:7-11*

1 Gaaf tokko Yesuus iddoo tokkotti kadhachaa ture; yommuu inni fixatettis,
barattoota isaa keessaa namni tokko, “Yaa Barsiisaa, akkuma Yohannis barattoota
isaa barsiise sana, atis kadhachuu nu barsiisi” jedheen.
2 Innis akkana isaaniin jedhe; “Isin yommuu kadhattan akkana jedhaa:
“ ‘Yaa Abbaa,
maqaan kee haa qulqullaa’u;
mootummaan kee haa dhufu.

---
[*] **10:27** 10:27 KeD 6:5 [†] **10:27** 10:27 Lew 19:18

3 Buddeena keenya kan guyyuma guyyaa,
guyyuma guyyaan nuu kenni.
4 Akkuma nus warra cubbuu nutti hojjetaniif dhiifnu sana
atis cubbuu keenya nuu dhiisi;
qoramatti nu hin galchin.' "
5 Innis akkana isaaniin jedhe; "Mee isin keessaa namni tokko michuu qaba haa
jennuu; innis halkan walakkaa michuu isaa sana bira dhaqee, 'Yaa michuu ko, mee
buddeena sadii naa liqeessi; 6 michuun koo kan karaa deemu tokko natti goreeraatii;
anis waanan dhi'eessuuf tokko illee hin qabu' haa jedhu. 7 Namichi mana keessaa
sunis, 'Na hin rakkisin; balballi cufameera; ijoolleen koos na wajjin siree irra jiru;
ani ka'ee waan tokko illee siif kennuu hin danda'u' jedhaanii? 8 Ani isinittin hima;
sababii inni michuu isaa ta'eef jedhee ka'ee buddeena sana isaaf kennuu baatu illee,
sababii ija jabina namicha sanaatiif jedhee ka'ee waan isa barbaachisu hunda ni
kennaaf.
9 "Kanaafuu ani isinittin hima: Kadhadhaa, isiniif ni kennamaa; barbaadaa, ni
argattuu; rurrukutaa, balballi isiniif ni banamaa. 10 Namni kadhatu hundi ni
argataatii; namni barbaadu ni argata; nama rurrukutuufis balballi ni banama.
11 "Yaa abbootii, isin keessaa namni yoo ilmi isaa qurxummii isa kadhate, qooda
qurxummii bofa kennuuf eenyu? 12 Yookaan namni yoo ilmi isaa hanqaaquu isa
kadhate torbaanqabaa kennuuf eenyu? 13 Erga isin warri hamoon iyyuu kennaa
gaarii ijoollee keessaniif kennuu beektanii, Abbaan keessan inni samii irraa immoo
hammam caalchisee warra isa kadhataniif Hafuura Qulqulluu haa kennuu ree!"

### *Yesuusii fi Bi'eelzebuul*
*11:14,15,17-22,24-26 kwf – Mat 12:22,24-29,43-45*
*11:17-22 kwf – Mar 3:23-27*

14 Yesuusis hafuura hamaa arrab-didaa ta'e tokko baasaa ture. Yommuu hafuurri
hamaan sun ba'etti arrab-didaan sun ni dubbate; namoonnis ni dinqifatan. 15 Isaan
keessaa namoonni tokko tokko garuu, "Inni Bi'eelzebuuliin, hangafa hafuurota
hamootiin hafuurota hamoo baasaa jira" jedhan. 16 Warri kaan immoo mallattoo
samii irraa isa gaafachuudhaan isa qoran.
17 Yesuusis yaada isaanii beekee akkana jedheen; "Mootummaan gargar of
qoodu kam iyyuu ni diigama; manni gargar of qoodus ni jiga. 18 Seexanni yoo
gargar of qoode, mootummaan isaa akkamitti dhaabachuu danda'a? Wanni ani
akkana jedhuuf sababii isin akka waan ani Bi'eelzebuuliin hafuurota hamoo baasuu
dubbattaniif. 19 Egaa yoo ani Bi'eelzebuuliin hafuurota hamoo baasee, ilmaan
keessan immoo maaliin baasu ree? Kanaafuu isaan abbootii murtii isinitti ta'u.
20 Garuu ani quba Waaqaatiin hafuurota hamoo baasa taanaan, yoos mootummaan
Waaqaa isinitti dhufeera.
21 "Yommuu namni jabaan guutummaatti mi'a lolaa hidhate tokko mana isaa
eeggatutti, qabeenyi isaa nagaadhaan taa'aaf. 22 Garuu namni jabinaan isa caalu
tokko yoo lolee isa mo'ate, mi'a lolaa kan namichi sun amanate sana isa irraa
fudhatee boojuu isaas qoqqooda.
23 "Namni na wajjin hin jirre kam iyyuu naan morma; namni na wajjin walitti hin
qabne kam iyyuus ni bittinneessa.
24 "Hafuurri xuraa'aan yommuu nama keessaa ba'utti, boqonnaa barbaacha lafa
gogaa* keessa joora; garuu hin argatu. Innis, 'Mana koo isa ani keessaa ba'e sanatti
nan deebi'a' jedha. 25 Yommuu achi ga'uttis manicha haramee qulqulleeffamee
argata. 26 Ergasiis dhaqee hafuurota biraa torba kanneen isa caalaa hamoo ta'an

* **11:24** 11:24 Lafti gogaan akka waan jireenya hafuurota hamootiif mijaa'aa ta'eetti herregama ture (Isa 13:21-22;
34:14 ilaalaa).

fudhatee dhufa; isaanis itti galanii achi jiraatu. Haalli namicha sanaa kan dhumaa isa jalqabaa caalaa hammaata."
27 Utuu Yesuus waan kana dubbachaa jiruu, dubartiin tokko namoota gidduudhaa sagalee ishee ol fudhattee, "Garaan si baate, harmi ati hootes eebbifamaa dha" jette.
28 Inni garuu deebisee, "Kana caalaa iyyuu, warri dubbii Waaqaa dhaga'anii ajajamaniif eebbifamoo dha" jedhe.

*Mallattoo Yoonaas*
*11:29-32 kwf – Mat 12:39-42*

29 Akkuma baay'inni namootaa dabalameen Yesuus akkana jedhe; "Dhaloonni kun
dhaloota hamaa dha. Inni mallattoo barbaada; garuu mallattoo Yoonaas malee
mallattoon tokko iyyuu isaaf hin kennamu. 30 Akkuma Yoonaas mallattoo saba
Nanawwee ture sana, Ilmi Namaas mallattoo dhaloota kanaa ni ta'aatii. 31 Mootittiin
kibbaa guyyaa murtiitti namoota dhaloota kanaa wajjin kaatee isaanitti murti;
isheen ogummaa Solomoon dhaga'uuf jettee daarii lafaatii dhufteetii. Kunoo kan
Solomoonin caalu as jira. 32 Namoonni Nanawwee guyyaa murtiitti dhaloota kana
wajjin ka'anii itti muru; isaan lallaba Yoonaasiin qalbii jijjiirrataniitii; kunoo kan
Yoonaasin caalu as jira.

*Ibsaa Dhagnaa*
*11:34,35 kwf – Mat 6:22,23*

33 "Namni kam iyyuu ibsaa qabsiisee iddoo hin mul'anne yookaan gombisaa jala
hin kaa'u. Qooda kanaa akka warri ol seenan ifa isaa arganiif baattuu isaa irra
kaa'u. 34 Iji kee ibsaa dhagna keetii ti. Iji kee fayyaa taanaan, dhagni kee guutuun
ifaan guutama. Yoo iji kee fayyaa hin ta'in garuu dhagni kees dukkanaan guutama.
35 Kanaafuu akka ifni si keessaa dukkana hin taaneef of eeggadhu. 36 Egaa yoo
dhagni kee hundinuu ifaan guutame, yoo kutaan tokko iyyuu dukkana hin qabaatin,
akkuma waan ifni ibsaa tokkoo ifa isaatiin siif ibsuutti dhagni kee guutummaatti ifa
ni qabaata."

*Fariisonnii fi Barsiistonni Seeraa Ifataman*

37 Akkuma Yesuus haasaa isaa fixateen Fariisota keessaa namichi tokko akka
Yesuus isa wajjin nyaata nyaatuuf mana isaatti isa waame; Yesuusis ol seenee
maaddiitti dhi'aate. 38 Fariisichi garuu akka Yesuus nyaataan dura hin dhiqatin argee
dinqisiifate.
39 Gooftaanis akkana isaan jedhe; "Isin Fariisonni duuba xoofootii fi caabii ni
qulqulleessitu; keessi keessan garuu saamichaa fi hamminaan guutameera. 40 Yaa
namoota gowwoota! Inni duuba isaa uume sun keessa isaa immoo hin uumnee?
41 Isin garuu waan xoofoo fi caabii keessa jiru hiyyeeyyiif kennaa; yoos wanni
hundinuu isinii qulqullaa'aa.
42 "Fariisota nana isiniif wayyoo! Isin insilaala, cilaaddaamaa fi biqiltuu gosa hundaa kudhan keessaa tokko Waaqaaf ni kennitu; murtii qajeelaa fi jaalala Waaqaa garuu ni tuffattu. Silaa utuu isa duraa hin dhiisin isa booddee hojii irra oolchuu qabdu ture.
43 "Yaa Fariisota, isiniif wayyoo! Isin manneen sagadaa keessatti taa'umsa ulfinaa, gabaa keessattis nagaa gaafatamuu jaallattu.
44 "Isin sababii awwaala mallattoo hin qabne kan namoonni utuu hin beekin irra deeman fakkaattaniif isinii wayyoo!"
45 Hayyoota seeraa keessaas tokko deebisee, "Yaa Barsiisaa, ati yommuu waan kana jettutti nuus arrabsaa jirta!" jedheen.

46 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Hayyoota seeraa, isiniifis wayyoo! Isin
ba’aa namni baachuu hin dandeenye isaanitti feetu; ofii keessanii garuu isaan
gargaaruudhaaf qubaan illee hin tuqxan.
47 “Isiniif wayyoo! Isin raajotaaf awwaala ijaartuutii; kan isaan ajjeeses abbootuma
keessan. 48 Kanaafuu isin akka waanuma abbootiin keessan hojjetan sana deeggartan
dhugaa baatu; isaan raajota ajjeesan; isin immoo awwaala raajotaa ijaartu. 49 Sababii
kanaaf Waaqni ogummaa isaatiin, ‘Ani raajotaa fi ergamoota isaanittin erga;
namoonni sunis isaan keessaa tokko tokko ni ajjeesu; kaan immoo ni ari’atu’ jedhe.
50 Kanaaf dhaloonni kun dhiiga raajota hundaa kan uumama addunyaatii jalqabee
dhangala’etti ni gaafatama; 51 dhiiga Abeel irraa jalqabee hamma dhiiga Zakkaariyaas
isa iddoo aarsaatii fi mana qulqullummaa gidduutti ajjeefame sanaatti ni gaafatama.
Eeyyee ani isinittin hima; dhaloonni kun waan kana hundumatti ni gaafatama.
52 “Yaa hayyoota seeraa, isiniif wayyoo! Isin furtuu beekumsaa fudhattaniirtu. Ofii
keessanii hin seenne; warra seenaa turanis dhowwitaniirtu.”
53 Yommuu Yesuus achii deemetti, Fariisonnii fi barsiistonni seeraa jabeessanii
isaan mormuu, akka inni waan baay’ee dubbatuufis isa tuttuquu jalqaban. 54 Waan
afaan isaatii ba’uun isa qabuufis eeggachaa turan.

## 12

*Of eeggachiisa*
*12:2-9 kwf – Mat 10:26-33*

1 Gidduu sana yommuu tuunni namoota kuma hedduu tokko hamma isaan wal
irra ejjetanitti walitti qabametti, Yesuus duraan dursee barattoota isaatiin akkana
jechuu jalqabe; “Raacitii Fariisotaa irraa of eeggadhaa; kunis fakkeessitummaa dha.
2 Wanni haguugamee utuu hin mul’ifamin hafu yookaan wanni dhokfamee utuu hin
beekamin hafu tokko iyyuu hin jiru. 3 Wanni isin dukkana keessatti dubbattan, ifa
guyyaatiin dhaga’ama; wanni isin gola keessatti gurratti hasaastanis bantii manaa
irraa labsama.
4 “Yaa michoota ko, ani isinittin hima; warra dhagna ajjeesanii ergasii immoo kana
caalaa homaa gochuu hin dandeenye hin sodaatinaa. 5 Ani garuu kan isin sodaachuu
qabdan isinittin argisiisa; isa erga ajjeesee booddee gahaannamitti darbachuudhaaf
taayitaa qabu sana sodaadhaa; eeyyee, ani isinittin hima; isa sodaadhaa. 6 Daaloteen
shan saantima lamatti gurguramu mitii? Isaan keessaa garuu tokko iyyuu Waaqni
hin irraanfatu. 7 Dhugumaanuu rifeensi mataa keessanii hundi lakkaa’ameera. Hin
sodaatinaa; isin daalotee hedduu caalaa gatii qabduutii.
8 “Ani isinittin hima; nama fuula namootaa duratti ifaan ifatti dhugaa naa ba’u
kamiif iyyuu, Ilmi Namaas fuula ergamoota Waaqaa duratti dhugaa ni ba’a. 9 Namni
fuula namootaa duratti na ganu kam iyyuu garuu fuula ergamoota Waaqaa duratti ni
ganama. 10 Nama Ilma Namaatiin mormee jecha tokko dubbatu hundaaf ni dhiifama;
nama Hafuura Qulqulluudhaan mormee dubbatu kamiif iyyuu garuu hin dhiifamu.
11 “Yommuu manneen sagadaa, bulchitootaa fi abbootii taayitaa duratti
dhi’eeffamtanitti akkamitti akka falmattan yookaan maal akka jettan hin
yaadda’inaa. 12 Hafuurri Qulqulluun yeruma sana Waan isin jechuu qabdan isin
barsiisaatii.”

*Fakkeenya Sooressa Gowwaa*

13 Tuuta sana keessaa namichi tokko, “Yaa Barsiisaa, akka obboleessi koo dhaala
naa hiruuf maaloo itti naa dubbadhu” jedheen.
14 Yesuus garuu deebisee, “Namana, eenyutu isin gidduutti abbaa murtii yookaan
hirtuu dhaalaa na godhe?” jedheen. 15 Innis, “Ilaalladhaa! Doqnummaa hunda irraas

of eegaa; jireenyi nama tokkoo baay'ina qabeenya isaatiin hin murteeffamuutii" jedheen.
16 Innis akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; "Lafti qotiisaa namicha sooressa tokkoo midhaan guddaa kenneef. 17 Namichi sunis, 'Ani waan lafan itti midhaan koo galfadhu hin qabneef maal gochuu naa wayya?' jedhee garaa isaatti yaade.
18 "Innis akkana jedhe; 'Wanni ani godhu kana; gombisaa koo diigee guddaa isaa nan ijaarradha; midhaan koo fi mi'a koo hunda achittin kuufadha. 19 Lubbuu kootiinis, "Yaa lubbuu ko, ati waan gaarii hedduu kan waggaa baay'eef kuufame qabda; boqodhu; nyaadhu; dhugi; gammadis" nan jedha.'
20 "Waaqni garuu, 'Yaa gowwicha, edanuma lubbuu kee sirraa fudhachuu barbaadu; egaa wanni ati walitti qabatte sun kan eenyuu ta'a?' jedheen.
21 "Kanaafuu namni ofii isaatiif badhaadhummaa kuufatee fuula Waaqaa duratti immoo hin sooromin kam iyyuu akkasuma ta'a."

### *Hin Yaadda'inaa*
*12:22-31 kwf – Mat 6:25-33*

22 Yesuusis barattoota isaatiin akkana jedhe; "Kanaafuu ani isinittin hima; 'maal nyaanna?' jettanii waa'ee jireenya keessanii hin yaadda'inaa; yookaan 'maal uffanna?' jettanii waa'ee dhagna keessanii hin yaadda'inaa. 23 Jireenyi nyaata caala; dhagnis uffata caalaatii. 24 Mee arraageyyii ilaalaa: Isaan hin facaafatan yookaan hin haammatan; gombisaa yookaan gumbii hin qaban; ta'us Waaqni isaan soora. Isin immoo hammam simbirroota caalaa gatii guddaa qabdu! 25 Isin keessaa namni yaadda'uudhaan hojjaa isaa irratti dhundhuma tokko dabalachuu danda'u eenyu?
26 Yoos isin erga waan xinnoo akkasii illee godhachuu hin dandeenye, maaliif waan biraaf yaaddoftu ree?
27 "Daraaraawwan bosonaa akkamitti akka guddatan mee ilaalaa; isaan hin dhama'an yookaan hin fo'an. Ani garuu isinittin hima; Solomoon iyyuu ulfina isaa hunda keessatti, akka tokkoo isaaniitti hin uffanne. 28 Isin yaa warra amantii xinnoo nana! Waaqni erga marga dirree kan har'a jiruu fi kan bor immoo ibiddatti naqamutti iyyuu akkasitti uffisee, isinitti immoo hammam kana caalaa haa uffisuu ree. 29 Qalbii keessan waan nyaattan irra yookaan waan dhugdan irra hin kaa'atinaa; waa'ee isaas hin yaadda'inaa. 30 Addunyaan ormootaa waan kana hunda ni barbaaduutii; Abbaan keessan akka wanni kun hundinuu isin barbaachisu ni beeka. 31 Garuu mootummaa isaa barbaadaa; wanni kun akkasuma isiniif kennama.
32 "Isin karra xinnoo nana, hin sodaatinaa; Abbaan keessan mootummaa isinii kennuu jaallateeraatii. 33 Waan qabdan gurguraatii hiyyeeyyiif kennaa. Korojoo hin moofofne, qabeenya dhuma hin qabnes samii irratti, iddoo hattuun itti hin dhi'aannee fi biliinis hin balleessinetti ofii keessaniif kuufadhaa. 34 Idduma badhaadhummaan keessan jiru sana garaan keessanis jiraatii.

### *Qophaa'anii Eeguu*
*12:35,36 kwf – Mat 25:1-13; Mar 13:33-37*
*12:39,40,42-46 kwf – Mat 24:43-51*

35 "Tajaajilaaf hidhadhaatii qophaa'aa; ibsaa keessanis ibsadhaa; 36 akkuma namoota yommuu Gooftaan isaanii cidha fuudhaa fi heerumaatii galee balbala dhadha'utti dafanii isaaf banuuf jedhanii qophaa'anii isa eeganii ta'aa. 37 Garboonni gooftaan isaanii yeroo galutti isaanii dammaqanii jiran argu sun eebbifamoo dha; ani dhuguman isinitti hima; inni marxifatee akka isaan nyaataaf taa'an ni godha; dhufees isaan tajaajila. 38 Garboonni gooftaan isaanii halkanicha keessaa kutaa lammaffaatti yookaan kutaa sadaffaatti dhufee akkasuma isaanii dammaqanii jiran isaan argu

sun eebbifamoo dha. 39 Garuu waan kana hubadhaa: Abbichi manaa utuu sa’aatii
kamitti akka hattuun dhuftu beekee, silaa akka manni isaa cabsamee seenamu itti
hin dhiisu ture. 40 Isinis akkasuma qophaa’uu qabdu; Ilmi Namaa sa’aatii isin hin
eegnetti dhufaatii.”
41 Phexrosis, “Yaa Gooftaa, ati fakkeenya kana nu qofatti moo nama hundumatti
himta?” jedhee gaafate.
42 Gooftaanis akkana jedhee deebise; “Egaa hojii adeemsisaan amanamaa fi ogeessi
kan gooftaan isaa akka inni nyaata isaanii yeroo malutti isaanii kennuuf jedhee
garboota isaa irratti isa muudu eenyu? 43 Garbichi gooftaan isaa yommuu deebi’utti
utuu inni akkasuma hojjetuu isa argu sun eebbifamaa dha. 44 Ani dhuguma isinitti
nan hima; inni qabeenya isaa hunda irratti isa muuda. 45 Garbichi sun garuu
yoo, ‘Gooftaan koo dhufuuf yeroo dheeraa tura’ ofiin jedhee, garboota dhiiraatii
fi dubartootaa tumuu jalqabe, yoo nyaatee dhugee machaa’e, 46 gooftaan garbicha
sanaa guyyaa inni isa hin eegnee fi sa’aatii inni hin beeknetti ni dhufa. Innis isa
kukkuta; warra hin amanne keessattis isa ramada.
47 “Garbichi utuu fedhii gooftaa isaa beekuu hin qophoofne yookaan waan gooftaan
isaa barbaadu hin hojjenne sun akka malee tumama. 48 Nama utuu hin beekin waan
isa adabamsiisu hojjete garuu adaba salphaatu isa irra ga’a. Nama wanni baay’een
itti kenname hunda irraa waan baay’eetu eegama; nama imaanaan guddaan itti
kenname irraa immoo kan caalutu barbaadama.

### *Gargar Ba’uu Malee Nagaa miti*

*12:51-53 kwf – Mat 10:34-36*

49 “Ani ibidda lafa irra buusuufin dhufe; utuu inni ammuma iyyuu qabatee
ani akkam hawwa! 50 Garuu cuuphaa ani cuuphamu tokkotu jira; hamma inni
raawwatamutti ani akka malee nan dhiphadha! 51 Isin waan ani lafa irratti nagaa
buusuuf dhufe seetuu? Akkas miti; ani isinittin hima; ani gargar ba’uu fiduufan
dhufe malee nagaa buusuuf hin dhufne. 52 Si’achi maatiin nama shan qabu tokko
gargar qoodama; namni sadii nama lamatti ka’a; namni lama immoo nama sadiitti
ka’a. 53 Abbaan ilmatti, ilmi abbaatti, haati intalatti, intalli haadhatti, amaatiin niitii
ilmaatti, niitiin ilmaas amaatii isheetti ka’uudhaan gargar ba’u.”

### *Bara Ilaalanii Waa Himuu*

54 Yesuusis tuuta sanaan akkana jedhe; “Isin yommuu duumessa karaa lixa
biiftuutiin ol ba’u argitanitti yeruma sana, ‘Bokkaan ni rooba’ jettu; innis ni
rooba. 55 Yommuu bubbeen kibbaa bubbisutti immoo, ‘Ni ho’a’ jettu; innis ni ho’a.
56 Fakkeessitoota nana! Isin bifa lafaatii fi samiitiif hiikkaa kennuu ni beektu. Bara
ammaa kanaaf immoo hiikkaa kennuu akkamitti wallaaltu?
57 “Isin maaliif ofuma keessanii waan qajeelaa hin murteessine? 58 Ati yommuu
amajaajii kee wajjin gara abbaa murtii dhaqxutti, karuma irratti isaan walitti
araaramuu cimsii yaali; yoo kanaa achii amajaajiin kee abbaa seeraatti si geessa;
abbaan seeraas dabarsee poolisiitti si kenna; poolisiin immoo mana hidhaatti si
darbata. 59 Ani sitti nan hima; ati hamma saantima ishee dhumaa of irraa baaftutti
achii hin baatu.”

## 13

### *Qalbii Jijjiirrachuu Yookaan Baduu*

1 Yeroo sana namoonni waa’ee warra Galiilaa kanneen Phiilaaxoos dhiiga isaanii
aarsaa isaaniitti make sanaa Yesuusitti himan tokko tokko achi turan. 2 Yesuusis
deebisee akkana jedheen; “Sababiin namoonni Galiilaa kunneen akkas dhiphataniif
waan isaan saba Galiilaa kaan hunda irra cubbamoota turaniif seetuu? 3 Ani isinittin
hima; akkas miti; garuu isinis qalbii jijjiirrachuu baannaan hundi keessan akkasuma

baddu. 4 Yookaan namoonni kudha saddeettan gamoon Saliihoom isaan irratti jigee
isaan fixe sun warra Yerusaalem keessa jiraatan kaan hunda irra waan yakka hojjetan
seetuu? 5 Ani isinittin hima; akkas miti. Garuu isinis qalbii jijjiirrachuu baannaan,
hundi keessan akkasuma baddu."
6 Innis akkana jedhee fakkeenya kana dubbate; "Namichi tokko muka harbuu
kan iddoo dhaabbaa wayinii isaa keessa dhaabame tokko qaba ture; innis muka
sana irra ija barbaaduu dhaqee waan tokko illee dhabe. 7 Innis hojjetaa iddoo
dhaaba wayinichaatiin, 'Ani waggaa sadan darban kana muka harbuu kana irraa ija
barbaadachuuf jedhee marmaaraan ture; garuu waan tokko illee irraa hin arganne;
muriitii gati! Inni maaliif lafa balleessa?' jedhe.
8 "Namichi sunis deebisee akkana jedheen; 'Yaa Gooftaa, anuu naannoo isaa qoteen
xaa'oo itti naqaatii mee wagguma tokko haa turu. 9 Yoo inni waggaa dhufu ija naqate,
gaarii dha! Yoo kanaa achii murtee gatuu dandeessa.' "

### *Dubartiin Dugdi Ishee Goophate Tokko Fayyifamuu Ishee*

10 Yesuus guyyaa Sanbataa tokko manneen sagadaa keessaa isa tokkotti barsiisaa
ture. 11 Dubartiin hafuurri hamaan waggaa kudha saddeeti dugda ishee goophesse
tokkos achi turte; isheenis waan gad gogdeef gonkumaa ol jechuu hin dandeessu
turte. 12 Yesuusis yommuu ishee argetti ofitti ishee waamee, "Dubartii nana, ati
dhukkuba kee irraa fayyiteerta" jedheen, 13 Innis harka isaa ishee irra kaa'e; isheenis
yeruma sana ol jettee Waaqa galateeffatte.
14 Bulchaan mana sagadaas sababii Yesuus guyyaa Sanbataatiin nama fayyiseef
aaree namootaan, "Guyyaan hojii ja'atu jira; guyyoota sana kottaatii fayyifamaa
malee guyyaa Sanbataa hin dhufinaa" jedhe.
15 Gooftaan immoo akkana jedhee deebiseef; "Yaa fakkeessitoota! Isin keessaa
namni guyyaa Sanbataa qotiyyoo isaa yookaan harree isaa dallaa keessaa hiikee
bishaan obaasuu hin geessine jiraa? 16 Yoos dubartiin kun intalli Abrahaam kan
Seexanni waggaa kudha saddeeti guutuu hidhee ture kun guyyaa Sanbataatiin hidhaa
kana irraa hiikamuun isheef hin maluu?"
17 Yommuu inni waan kana dubbatetti mormitoonni isaa hundi ni qaana'an;
namoonni garuu hojjiiwwan dinqii kanneen inni hojjechaa ture hundatti ni gam-
madan.

### *Fakkeenya Sanyii Sanaaficaatii fi Fakkeenya Raacitii*
*13:18,19 kwf – Mar 4:30-32*
*13:18-21 kwf – Mat 13:31-33*

18 Yesuusis akkana jedhee gaafate; "Mootummaan Waaqaa maal fakkaata? Anis
maaliinan wal isa fakkeessa? 19 Mootummaan Waaqaa sanyii sanaaficaa kan namni
tokko fuudhee lafa qotiisaa isaa keessatti facaase fakkaata. Sanyiin sunis guddatee
muka ta'e; simbirroonnis dameewwan isaa irra jiraatan."
20 Amma illee akkana jedhee gaafate; "Ani mootummaa Waaqaa maaliinan wal
fakkeessa? 21 Inni raacitii dubartiin tokko fuutee hamma inni guutummaatti
bukeessutti daakuu safartuu sadiitti makte fakkaata."

### *Balbala Dhiphaa*

22 Yesuusis utuu gara Yerusaalem deemuu namoota barsiisaa magaalaawwanii fi
gandoota keessa darbaa ture. 23 Namichi tokkos, "Yaa Gooftaa warri fayyifaman
namoota muraasa qofaa?" jedhee isa gaafate.
Innis akkana isaaniin jedhe; 24 "Balbala dhiphaadhaan seenuuf tattaaffadhaa;
ani isinittin hima; namoonni baay'een seenuu ni yaaluutii; garuu hin danda'an.
25 Abbaan mana sanaa takkaa ka'ee balbalicha cufannaan isin ala dhaabatanii balbala
rurrukutaa, 'Yaa Gooftaa balbala nuu bani' jettanii kadhattu.

“Inni garuu deebisee, ‘Ani isin hin beeku yookaan eessaa akka dhuftan hin beeku’ isiniin jedha.
26 “Isin immoo, ‘Nu si wajjin nyaannee dhugneerra; atis daandii keenya irratti barsiifteerta’ jettuun.
27 “Inni garuu deebisee, ‘Ani isin hin beeku yookaan eessaa akka dhuftan hin beeku. Isin warri hammina hojjettan hundinuu na biraa badaa!’ jedha.
28 “Yommuu Abrahaam, Yisihaaq, Yaaqoobii fi raajota hunda mootummaa Waaqaa keessatti argitanii, ofii keessanii immoo gad darbatamtan, achitti boo’uu fi ilkaan
qaruutu ta’a. 29 Namoonnis ba’a biiftuutii fi lixa biiftuutii, kaabaa fi kibbaa dhufanii
mootummaa Waaqaa keessatti maaddiitti ni dhi’aatu. 30 Dhugumaanuu kanneen
warra dhumaa ta’an keessaa kanneen warra jalqabaa, kanneen warra jalqabaa ta’an keessaa immoo warra dhumaa ta’an jiru.”

*Yesuus Yerusaalemiif Gadduu Isaa*
*13:34,35 kwf – Mat 23:37-39*
*13:34,35 kwi – Luq 19:41*

31 Yeroo sana Fariisota keessaa namoonni tokko tokko gara Yesuus dhufanii, “Sababii Heroodis si ajjeesuu barbaaduuf asii deemii iddoo biraa dhaqi” jedhaniin.
32 Innis akkana jedhee deebise; “Dhaqaatii waangoo sanaan, ‘Kunoo, ani har’aa fi bori hafuurota hamoo nan baasa; namoota dhukkubsatanis nan fayyisa; guyyaa
sadaffaatti immoo hojii koo nan fixadha’ jedhaa. 33 Waan fedhe iyyuu taanaan, ani
har’aa fi bori, iftaanis adeemsa koo itti fufuutu naa mala; raajiin Yerusaalemiin alatti du’uu hin qabuutii!
34 “Yaa Yerusaalem, yaa Yerusaalem, ati kan raajota ajjeeftu, warra gara keetti ergamanis kan dhagaadhaan tumtu, akkuma indaanqoon cuucii ishee qoochoo ishee jalatti walitti qabattu sana anis ijoollee kee walitti qabuuf yeroo meeqan hawwe! Isin
garuu hin barbaanne. 35 Kunoo, manni keessan onee isinii hafa. Ani isinittin hima; isin hamma, ‘Inni maqaa Gooftaatiin dhufu sun eebbifamaa dha’*jettanitti lammata na hin argitan.”

# 14

*Yesuus Mana Fariisicha Tokkootti*

1 Guyyaa Sanbataa tokko yommuu Yesuus buddeena nyaachuuf mana Fariisicha
beekamaa tokkoo dhaqetti, namoonni xiyyeeffatanii isa ilaalaa turan. 2 Namichi
dhagni isaa dhiita’e tokkos fuula isaa dura ture. 3 Yesuusis, “Guyyaa Sanbataatiin nama fayyisuun ni eeyyamama moo hin eeyyamamu?” jedhee Fariisotaa fi hayyoota
seeraa gaafate. 4 Isaan garuu ni cal’isan; innis namicha harkaan qaqqabee fayyisee gad isa lakkise.
5 Innis, “Isin keessaa namni tokko yoo ilma yookaan qotiyyoo guyyaa Sanbataatiin boolla keessa bu’e qabaate, inni yeruma sana harkisee boolla keessaa hin baasuu?”
jedhee isaan gaafate. 6 Isaan garuu deebii kennuu hin dandeenye.
7 Innis yommuu akka keessumoonni sun iddoo ulfinaa filatan hubatetti akkana
jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; 8 “Yoo namni tokko cidha fuudhaa fi heerumaatti si waame, iddoo ulfinaa hin taa’in; tarii namni si caalaa ulfina qabu
tokko waamameera ta’aatii. 9 Namichi isin lamaanuu waame sun dhufee, ‘Namicha kanaaf ka’i’ siin jedha; atis qaanoftee dhaqxee lafa iddoo hundumaa gad ta’e teessa.
10 Ati garuu yommuu waamamtu akka namichi si waame sun yeroo dhufutti, ‘Yaa michuu koo iddoo ol aanutti hiiqi’ siin jedhuuf dhaqii lafa iddoo hundumaa gad ta’e taa’i; yoos fuula warra si wajjin maaddiitti dhi’aatan hundumaa duratti ulfina

* **13:35** 13:35 Far 118:26

argattaatii. [11] Namni ol of qabu hundinuu gad qabamaatii; namni gad of qabu
hundinuu immoo ol qabama.”
[12] Yesuusis namicha isa waame sanaan akkana jedhe; “Ati yommuu laaqana
yookaan irbaata qopheessitu michoota kee yookaan obboloota kee, yookaan firoota
kee, yookaan olloota kee warra sooreyyii hin waamin; yoo akkas goote isaanis
deebisanii si waamu; gatiin kees siif deebifama. [13] Garuu yommuu cidha qopheessitu
hiyyeeyyii, naafa, okkolaa fi jaamaa waami. [14] Sababii isaan waan siif deebisan
hin qabneef ati ni eebbifamta; gatiin kee guyyaa du’aa ka’uu qajeeltotaatti siif
deebifamaatii.”

*Fakkeenya Cidha Guddaa*
*14:16-24 kwi – Mat 22:2-14*

[15] Warra isa wajjin maaddiitti dhi’aatan keessaa namichi tokko yommuu waan
kana dhaga’etti Yesuusiin, “Namni mootummaa Waaqaa keessatti maaddiitti dhi’aatu
eebbifamaa dha” jedhe.
[16] Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Namichi tokko cidha guddaa qopheessee
keessumoota hedduu affeere. [17] Namichi sunis sa’aatii nyaataatti akka inni, ‘Kunoo,
wanni hundinuu qopheeffameeraatii kottaa’ jedhee warra affeeraman sanatti himuuf
garbicha isaa erge.
[18] “Garuu isaan hundi bifuma tokkoon sababa dhi’eeffachuu jalqaban; inni
jalqabaa, ‘Ani lafa qotiisaa bitadheera; kanaafuu dhaqeen ilaaluu qabaatii maaloo
na hin komatin’ jedheen.
[19] “Inni kaan, ‘Ani qotiyyoo cimdii shan bitadheera; isaan leenjisuuf deemuuttin
jiraatii, maaloo na hin komatin’ jedheen.
[20] “Amma illee inni kaan, ‘Ani dhi’oon niitii fuudhe; kanaafuu dhufuu hin danda’u’
jedheen.
[21] “Garbichi sunis deebi’ee waan kana gooftaa isaatti hime. Abbaan mana sanaas
aaree, ‘Dafii karaa guddaa fi daandii qal’aa magaalaatti achi ba’iitii hiyyeeyyii, naafa,
jaamaa fi okkolaa fidii ol seensis’ jedhee garbicha isaa ajaje.
[22] “Garbichi sunis, ‘Yaa gooftaa, wanni ati ajajje hundi raawwateera; garuu amma
illee iddoon jira’ jedheen.
[23] “Gooftichis garbicha isaatiin akkana jedhe; ‘Akka manni koo guutamuuf karaa
guddaa fi daandii baadiyyaatti achi ba’iitii akka isaan ol galan dirqisiisi. [24] Ani
isinittin hima; namoota waamaman sana keessaa namni tokko iyyuu maaddii koo
irraa afaaniin hin qabu.’ ”

*Gatii Baratаa Yesuus Ta’uun Nama Baasisu*

[25] Namoonni baay’een Yesuus wajjin deemaa turan; innis garagalee akkana isaaniin
jedhe; [26] “Namni gara koo dhufu kam iyyuu yoo abbaa isaatii fi haadha isaa, niitii
isaatii fi ijoollee isaa, obboloota isaatii fi obboleettota isaa akkasumas lubbuu isaa illee
hin jibbine inni barataa koo ta’uu hin danda’u. [27] Namni fannoo ofii isaa baadhatee
na duukaa hin buune kam iyyuus barataa koo ta’uu hin danda’u.
[28] “Mee isin keessaa namni tokko gamoo ijaarrachuu barbaada haa jennuu; namichi
sun gamoo sana ijaaree fixuuf horii ga’aa qabaachuu fi qabaachuu baachuu isaa
beekuuf duraan dursee taa’ee gatii isaa hin herregatuu? [29] Yoo kanaa achii yommuu
inni hundee kaa’ee fixuu dadhabutti, namoonni argan hundi itti qoosu. [30] Isaanis,
‘Namichi kun ijaaruu jalqabee fixuu dadhabe’ jedhu.
[31] “Yookaan mee mootiin tokko mootii biraa loluu dhaqa haa jennuu; inni mootii
loltoota kuma digdamaan isatti dhufu tokko loltoota kuma kudhaniin of irraa loluu
danda’uu fi danda’uu baachuu isaa duraan dursee taa’ee itti hin yaaduu? [32] Yoo hin
dandeenye immoo utuu mootichi kaan isa irraa fagoo jiruu bakka bu’oota itti ergee

akka nagaan bu’u kadhata. 33 Akkanumas isin keessaa namni waan qabu hunda hin
dhiifne kam iyyuu barataa koo ta’uu hin danda’u.
34 “Soogiddi gaarii dha; garuu yoo inni mi’aa isaa dhabe, mi’aan isaa akkamiin
deebifamuu danda’a? 35 Inni biyyoof yookaan tuulaa kosiitiif faayidaa hin qabu; inni
gad gatama.
“Namni gurra dhaga’u qabu kam iyyuu haa dhaga’u.”

# 15

*Fakkeenya Hoolaa Badee*
*15:4-7 kwf – Mat 18:12-14*

1 Gaaf tokko warri qaraxa fuudhanii fi cubbamoonni hundi Yesuusin dhagge-
effachuudhaaf isa biratti walitti qabamaa turan. 2 Fariisonnii fi barsiistonni
seeraa garuu, “Namichi kun cubbamoota simata; isaan wajjinis ni nyaata” jedhanii
guunguman.
3 Yesuusis akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; 4 “Isin keessaa namni
hoolota dhibba qabu tokko yoo hoolaan tokko jalaa bade, hoolota sagaltamii sagallan
kaan lafa tikaatti dhiisee hamma hoolaa bade sana argatutti kan barbaaduu hin
deemne eenyu? 5 Yommuu argatus gammadee gatiittii isaa irratti baatee, 6 mana
isaatti gala. Innis michoota isaatii fi olloota isaa walitti waamee, ‘Ani hoolaa koo
kan bade sana argadheeraatii na wajjin gammadaa’ jedha. 7 Ani isinittin hima;
sababii qajeeltota qalbii jijjiirrachuun isaan hin barbaachifne sagaltamii sagalii irra
sababii cubbamaa qalbii jijjiirratu tokkootiif samii keessatti gammachuun guddaan
akkasuma ni ta’a.

*Fakkeenya Saantima Badee*

8 “Yookaan mee dubartii saantima meetii kudhan qabdu jalaa tokko badeera haa
jennuu; isheen ibsaa qabsiifattee, manas hartee hamma saantima sana argatutti
jabeessitee hin barbaaddattuu? 9 Isheenis yommuu argatutti michoota isheetii fi
olloota ishee walitti waamtee, ‘Ani saantima koo kan bade sana argadheeraatii na
wajjin gammadaa’ jetti. 10 Ani isinittin hima; sababii cubbamaa qalbii jijjiirratu
tokkootiif ergamoonni Waaqaa akkasuma ni gammadu.”

*Fakkeenya Ilma Badee*

11 Yesuus ittuma fufee akkana jedhe; “Namicha ilmaan lama qabu tokkotu ture.
12 Ilmi quxisuun abbaa isaatiin ‘Yaa abbaa ko, qabeenya kee irraa qooda na ga’u naa
kenni’ jedhe. Abbaanis qabeenya isaa lamaan isaaniitiif ni hire.
13 “Ilmi quxisuun sunis utuu hin turin waan qabu hunda walitti qabatee biyya
fagoo dhaqe; achittis qabeenya isaa jireenya bashannanuu irratti balleesse. 14 Erga
inni waan hunda fixee booddee beelli hamaan biyya sanatti bu’e; innis rakkachuu
jalqabe. 15 Kanaafuu dhaqee lammiiwwan biyyasii keessaa isa tokkotti gale; namichi
sunis akka inni booyyee tiksuuf lafa tikaatti isa erge. 16 Gurbichis qola booyyeen
nyaattu sana nyaatee garaa guutachuu kajeela ture; garuu namni tokko iyyuu waa
isatti hin kennu ture.
17 “Innis yommuu of beeketti akkana jedhe; ‘Tajaajiltoonni mana abbaa kootti
qacaraman hammamitu buddeena ga’ee irraa hafu qaba! Ani garuu asitti beelaan
nan du’a. 18 Ani ka’een abbaa kootti deebi’ee akkana jedhaan; “Yaa abbaa ko, ani
samii fi sitti cubbuu hojjedheera. 19 Si’achi ilma kee jedhamuun naaf hin malu;
tajaajiltoota kee keessaa akka isa tokkootti na ilaali.” ’ 20 Innis ka’ee gara abbaa isaa
dhaqe.
“Garuu utuu inni fagoo jiruu abbaan isaa isa argee akka malee garaa laafeef; gara
ilma isaattis fiigee itti marmee dhungate.

21 “Gurbichis, ‘Yaa abbaa ko, ani samii fi sitti cubbuu hojjedheera; si’achi ilma kee
jedhamuun naaf hin malu’ jedheen.
22 “Abbaan isaa garuu garboota isaatiin akkana jedhe; ‘Dafaatii uffata uffata
hunda caalu fidaa isatti uffisaa; quba isaatti qubeelaa, miilla isaattis kophee kaa’aa.
23 Dibicha gabbataa fidaatii qalaa; haa nyaannuu; haa gammannus. 24 Ilmi koo kun
du’ee tureetii; amma immoo jireenyatti deebi’eeraa. Badees ture; amma immoo
argameera.’ Isaanis gammaduu jalqaban.
25 “Yeroo sanatti ilmi inni hangafti lafa qotiisaa ture; innis yeroo dhufee manatti
dhi’aatetti muuziiqaa fi sirba dhaga’e. 26 Kanaafuu tajaajiltoota keessaa nama tokko
waamee waan ta’aa jiru gaafate. 27 Tajaajilaan sunis deebisee, ‘Obboleessi kee
galeera; abbaan kees waan ilma isaa nagaa fi fayyaadhaan argateef dibicha gabbataa
qale’ jedheen.
28 “Obboleessi hangafni garuu aaree ol seenuu dide; kanaaf abbaan isaa gad ba’ee
isa kadhate. 29 Inni immoo deebisee abbaa isaatiin akkana jedhe; ‘Ilaa ani waggoota
kanneen hunda akkuma garbaatti siif hojjechaan ture; ajaja kee illee didee hin beeku.
Ati garuu akka ani michoota koo wajjin gammaduuf takkumaa ilmoo re’ee tokko illee
naa hin kennine. 30 Garuu ilmi kee inni sagaagaltoota wajjin qabeenya kee balleesse
kun deebi’ee manatti gallaan dibicha gabbataa qalteef!’
31 “Abbaan isaas akkana jedheen; ‘Yaa ilma koo ati yeroo hunda anuma wajjin
jirta; wanni ani qabu hundinuus kanuma kee ti. 32 Garuu obboleessi kee inni du’ee
ture kun waan jireenyatti deebi’eef nu gammaduu fi ililchuu qabna. Inni badee ture;
amma immoo argameera.’ ”

# 16

*Fakkeenya Hojii Adeemsisaa Abshaala Tokkoo*

1 Yesuus barattoota isaatiin akkana jedhe; “Namicha sooressa nama hojii isaa
adeemsisuuf qabu tokkotu ture; akka hojii adeemsisaan sun qabeenya isaa jalaa
balleessaa jirus sooressa sanatti himan. 2 Sooressi sunis hojii adeemsisaa sana
ofitti waamee, ‘Wanni ani waa’ee kee dhaga’u kun maalii? Ati si’achi waan hojii
adeemsisaa ta’uu hin dandeenyeef, hojii adeemsisaa turte sana irratti gabaasa naa
dhi’eessi’ jedheen.
3 “Hojii adeemsisaan sunis garaa isaa keessatti akkana jedhe; ‘Waan gooftaan koo
hojii keessaa na baasuuf, maal naa wayya? Lafa qotuuf humna hin qabu; kadhachuu
immoo nan qaana’a. 4 Akka yeroo ani hojii keessaa ari’amutti namoonni mana
isaaniitti na simataniif waanan godhu anuu beeka.’
5 “Innis warra gatiin gooftaa isaa irra jiru tokko tokkoon waamee, isa jalqabaatiin,
‘Idaan gooftaa koo hammamitu sirra jira?’ jedhee gaafate.
6 “Namichis, ‘Zayitii ejersaa hubboo dhibba saddeeti’ jedhee deebise.
“Hojii adeemsisaan sunis, ‘Waraqaa walii galtee kee hoo’u; dafii taa’iitii dhibba
afur jedhii barreessi’ jedheen.
7 “Isa lammaffaadhaanis, ‘Sirra immoo hammamitu jira?’ jedhee gaafate.
“Innis, ‘Qamadii guuboo kuma tokkoo’ jedheen.
“Hojii adeemsisaan sunis, ‘Waraqaa walii galtee kee hoo’uutii, 80 jedhii barreessi’
jedheen.
8 “Hojii adeemsisaan hin amanamne sun waan abshaala ta’eef gooftichi isa jaje;
namoonni addunyaa kanaa warra akka isaanii wajjin haajaa isaanii guutachuu
irratti namoota ifaa caalaa abshaalotaatii. 9 Ani isinittin hima; akka isaan yeroo
qabeenyi sun dhumutti mana bara baraatti isin simataniif qabeenya addunyaatiin
ofii keessaniif michoota horadhaa.

10 “Namni waan xinnootti amanamu kam iyyuu waan baay’eettis ni amanama;
namni waan xinnootti hin amanamne kam iyyuu immoo waan baay’eettis hin
amanamu. 11 Yoos isin yoo qabeenya addunyaatti hin amanamne, qabeenya
dhugaatti immoo eenyutu isin amana ree? 12 Yoo isin qabeenya nama biraa irratti
hin amanamne, qabeenya mataa keessanii immoo eenyutu isinii kenna ree?

13 “Namni gooftota lama tajaajiluu danda’u tokko iyyuu hin jiru. Isa tokko jibbitee
isa kaan jaallattaatii; yookaan isa tokkoof of kennitee isa kaan immoo tuffatta. Isinis
Waaqaa fi maallaqa tajaajiluu hin dandeessan.”

14 Fariisonni warri maallaqa jaallatan waan kana hunda dhaga’anii Yesuusitti
qoosan. 15 Innis akkana isaaniin jedhe; “Isin warra fuula namootaa duratti qajeeltota
of gootanii dha; Waaqni garuu garaa keessan beeka. Wanni nama biratti akka malee
kabajamu fuula Waaqaa duratti jibbisiisaadhaatii.

*Barsiisa Dabalame*

16 “Seerrii fi raajonni hamma Yohannisitti labsaman. Yeroo sanaa jalqabee
wangeelli mootummaa Waaqaa lallabamaa jira; namni hundinuus itti galuuf wal
dhiiba. 17 Seera keessaa tuqaan hundumaa gadii dhabamuu irra samii fi lafti
dhabamuutu salphata.

18 “Namni niitii isaa hiikee dubartii biraa fuudhu kam iyyuu ejja raawwata; namni
dubartii dhirsa ishee hiikte fuudhus ejja raawwata.

*Namicha Sooressaa fi Al’aazaar*

19 “Namicha sooressa uffata dhiilgee haphii kan quncee talbaa irraa hojjetame
uffatee, guyyuma guyyaan qananiidhaan jiraatu tokkotu ture. 20 Karra isaa dura
immoo namichi hiyyeessi Al’aazaar jedhamu kan dhagni isaa hundi mammadaa’e
tokko ciisaa ture. 21 Innis hambaa maaddii sooressa sanaa irraa harca’u illee
nyaachuu ni kajeela ture; saroonni iyyuu dhufanii madaa isaa arraabu turan.

22 “Gaaf tokko namichi hiyyeessi sun duunaan ergamoonni Waaqaa isa baatanii
gara bobaa Abrahaamitti isa geessan; sooressichis du’ee awwaalame. 23 Utuu Sii’ool
keessatti dhiphachaa jiruus ol mil’atee Abrahaamin fagootti, Al’aazaarin immoo
bobaa Abrahaam keessatti arge. 24 Innis iyyee, ‘Yaa Abbaa koo Abrahaam, waan ani
ibidda kana keessatti dhiphachaa jiruuf maaloo garaa naa laafiitii akka inni fiixee
quba isaa bishaan keessa cuuphee arraba koo naa qabbaneessuuf Al’aazaarin naa
ergi’ jedheen.

25 “Abrahaam garuu akkana jedhee deebise; ‘Yaa ilma ko, ati bara jireenya keetiitti
waan gaarii akka argatte, Al’aazaar immoo waan hamaa akka argate yaadadhu;
amma garuu asitti isatti toleera; ati immoo dhiphachaa jirta. 26 Waan kana hunda
irrattis, akka warri nu biraa gara keessan dhufuu barbaadan dhufuu hin dandeenyeef
yookaan akka warri isin biraa gara keenyatti ce’uu hin dandeenyeef nuu fi isin gidduu
boolla guddaatu jira.’

27 “Dureessi sunis akkana jedhee deebise; ‘Yoos yaa Abbaa, akka ati gara
mana abbaa kootti Al’aazaarin naa ergitu sin kadhadha; 28 ani obboloota shan
qabaatii; akka isaanis iddoo dhiphinaa kana hin dhufneef inni dhaqee isaan haa
akeekkachiisu.’

29 “Abrahaam garuu, ‘Isaan Musee fi raajota qabu; isaanuma haa dhaga’an’ jedhe.

30 “Dureessichis, ‘Akkas miti; yaa abbaa koo Abrahaam; yoo warra du’an keessaa
namni tokko gara isaanii dhaqe garuu, isaan qalbii ni jijjiirratu’ jedheen.

31 “Abrahaamis, ‘Isaan yoo Musee fi raajota hin dhageenye, yoo namni tokko warra
du’an keessaa ka’e illee hin amanan’ jedheen.”

# 17

*Cubbuu, Amantii, Dirqama*

1 Yesuus barattoota isaatiin akkana jedhe; “Wantoonni akka namoonni gufatan
godhan dhufuun hin oolu; garuu nama wantoonni kunneen karaa isaatiin dhufaniif
wayyoo! 2 Inni warra xixinnaa kanneen keessaa tokko illee gufachiisuu mannaa
dhagaan daakuu morma isaatti hidhamee galaanatti utuu darbatamee isaa wayya
ture. 3 Kanaafuu of eeggadhaa.

“Yoo obboleessi kee yakka sitti hojjete isa ifadhu; yoo inni qalbii jijjiirrate immoo
dhiifama godhiif. 4 Yoo inni guyyaa tokkotti yeroo torba cubbuu sitti hojjetee yeroo
torbanuu sitti deebi’ee, ‘Ani qalbii nan jijjiirradha’ siin jedhe dhiifama godhiif.”

5 Ergamoonnis Gooftaadhaan, “Amantii keenya nuu guddisi” jedhan.

6 Innis akkana jedhee deebise; “Isin amantii xinnoo hamma ija sanaaficaa illee
yoo qabaattan, muka qilxuu kanaan, ‘Buqqa’iitii galaana keessa dhaabami!’ jechuu
dandeessu; innis isinii ajajama.

7 “Isin keessaa namni tokko garbicha lafa qotu yookaan kan hoolota tiksu qaba
haa jennu; inni yeroo garbichi sun alaa galutti, ‘Dafii kottuutii taa’ii waa nyaadhu’
jedhaanii? 8 Qooda kanaa inni garbicha sanaan, ‘Irbaata naa qopheessi; hamma
ani nyaadhee dhugutti marxifadhuutii na tajaajili; sana booddee ati ni nyaattaa;
ni dhugdas’ hin jedhuunii? 9 Namichis sababii garbichi sun waan ajajame sana
raawwateef isa ni galateeffataa? 10 Kanaafuu isinis yommuu waan ajajamtan hunda
raawwattanitti, ‘Nu garboota faayidaa hin qabnee dha; waanuma hojjechuu qabnu
qofa hojjenne’ jedhaa.”

*Lamxaa’onni Kudhan Fayyuu Isaanii*

11 Yesuus utuu Yerusaalem dhaquu Samaariyaa fi Galiilaa gidduu darbaa ture.
12 Akkuma inni ganda tokko seeneenis, namoonni lamxaa’an kudhan isatti dhufan.
Isaanis fagoo dhadhaabatanii, 13 sagalee isaanii ol fudhatanii, “Yesuus yaa Gooftaa,
nuu na’i!” jedhan.

14 Innis yommuu isaan argetti, “Dhaqaatii lubootatti of argisiisaa!” jedheen; isaanis
utuma deemaa jiranuu qulqullaa’an.

15 Isaan keessaas inni tokko yommuu fayyuu isaa argetti sagalee guddaadhaan
Waaqaaf ulfina kennaa deebi’ee dhufe. 16 Adda isaatiinis miilla Yesuus irratti
gombifamee isa galateeffate; innis nama Samaariyaa ture.

17 Yesuusis akkana jedhee gaafate; “Kurnanuu qulqullaa’aniiru mitii? Yoos warri
hafan sagallan eessa dhaqan? 18 Nama ormaa kana malee namni deebi’ee Waaqaaf
galata galchu tokko iyyuu hin argamnee?” 19 Yesuusis, “Ka’ii deemi; amantiin kee si
fayyiseeraatii” jedheen.

*Dhufaatii Mootummaa Waaqaa*
*17:26,27 kwf – Mat 24:37-39*

20 Fariisonnis mootummaan Waaqaa yoom akka dhufu Yesuusin gaafatan; innis
akkana jedhee deebiseef; “Mootummaan Waaqaa namatti mul’achaa hin dhufu;
21 namoonnis, ‘Mootummaan Waaqaa kunoo as jira’ yookaan ‘Kuunnoo achi jira’
hin jedhan; mootummaan Waaqaa isin gidduu jiraatii.”

22 Innis barattoota isaatiin akkana jedhe; “Yeroon isin itti guyyoota Ilma Namaa
keessaa isa tokko arguu hawwitan ni dhufa; garuu hin argitan. 23 Namoonni, ‘Inni
kuunnoo achi jira!’ yookaan ‘Kunoo as jira’ isiniin jedhu; isin garuu hin dhaqinaa;
isaan duukaas hin bu’inaa. 24 Ilmi Namaa guyyaa isaatti akkuma balaqqeessi
balaqqeessa’ee gama tokkoo hamma gama kaaniitti samii ibsuu ni ta’aatii. 25 Inni
garuu duraan dursee akka malee dhiphachuu fi dhaloota kanaan tuffatamuu qaba.

26 “Akkuma bara Nohi ta’e sana, yeroo Ilma Namaattis akkasuma ni ta’a. 27 Hamma
gaafa Nohi doonii seeneetti namoonni nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaas turan.
Bishaan badiisaas dhufee hunda isaanii balleesse.
28 “Bara Looxis akkasuma ture; namoonni nyaachaa, dhugaa, bitachaa, gurgu-
rachaa, biqiltuu dhaabbachaa, manas ijaarrachaa turan. 29 Guyyaa Looxi Sodoomii
ba’etti garuu ibiddii fi dinyiin samii irraa roobee hunda isaanii balleesse.
30 “Guyyaa Ilmi Namaa mul’atuttis akkasuma ta’a. 31 Guyyaa sana namni bantii
manaa irra jiru kan mana keessaa mi’a qabu mi’a sana fudhachuuf gad bu’uu hin
malu. Akkasuma immoo namni lafa qotiisaa keessa jiru tokko iyyuu waan tokkoof
illee manatti hin deebi’in. 32 Niitii Looxi yaadadhaa! 33 Namni lubbuu isaa eeggachuu
yaalu kam iyyuu lubbuu isaa ni dhaba; namni lubbuu isaa dhabu kam iyyuu lubbuu
isaa ni turfata. 34 Ani isinittin hima; halkan sana namoonni lama siree tokko irra ni
rafu; inni tokko ni fudhatama; kaan immoo ni hafa. 35 Dubartoonni lama walii wajjin
midhaan daaku; isheen tokko ni fudhatamti; kaan immoo ni hafti. [ 36 Namoonni
lama lafa qotiisaa keessa jiru; tokko ni fudhatama; kaan immoo ni hafa.”]*
37 Isaanis, “Yaa Gooftaa, eessatti?” jedhanii gaafatan.
Innis, “Iddoo raqni jirutti gogocorroowwan walitti qabamu” jedhee deebiseef.

# 18

*Fakkeenya Haadha Hiyyeessaa Tokkoo*

1 Yesuusis akka isaan yeroo hunda kadhachuu qabanii fi akka isaan abdii hin
kutanne isaan barsiisuuf jedhee fakkeenya tokko barattoota isaatti hime. 2 Innis
akkana jedhe; “Magaalaa tokko keessa abbaa murtii kan Waaqa hin sodaanne, namas
kan hin kabajne tokkotu ture. 3 Haati hiyyeessaa tokkos magaalaa sana keessa turte;
isheenis, ‘Diina koo irratti murtii qajeelaa naa kenni’ jettee isatti deddeebi’aa turte.
4 “Innis yeroo gabaabaaf didee ture; ergasii garuu akkana jedhee garaa isaatti
yaade; ‘Ani yoon Waaqa hin sodaanne illee, yoon namas hin kabajne illee, 5 sababii
niitiin kun deddeebitee na rakkiftuuf murtii qajeelaa nan kennaaf; yoo kanaa achii
deddeebitee na dadhabsiifti.’ ”
6 Gooftaanis akkana jedhe; “Egaa waan abbichii murtii dabaan sun jedhu dhaga’aa;
7 Waaqni immoo filatamtoota isaa warra halkanii guyyaa gara isaatti iyyataniif murtii
qajeelaa hin kennuu? Isaan duraa tursaa ree? 8 Ani isinittin hima; inni dafee murtii
qajeelaa kennaaf; garuu Ilmi Namaa gaafa dhufu lafa irratti amantii ni argataa?”

*Fakkeenya Fariisichaatii fi Namicha Qaraxa Walitti Qabuu*

9 Yesuusis namoota qajeelummaa ofiitti amananii warra kaan immoo tuffatanitti
akkana jedhee fakkeenya kana hime. 10 “Namoonni lama Waaqa kadhachuuf gara
mana qulqullummaatti ol ba’an; isaanis Fariisicha tokkoo fi nama qaraxa walitti qabu
tokko turan. 11 Fariisichi ka’ee dhaabatee, waa’ee mataa isaa akkana jedhee kadhate;
‘Yaa Waaqayyo, ani akka namoota kaanii jechuunis akka saamtotaa, jal’ootaa fi
sagaagaltootaa keessumattuu waan akka namicha qaraxa walitti qabu kanaa hin
ta’iniif sin galateeffadha. 12 Ani torbanitti yeroo lama nan sooma; waanan argadhu
hundumaa irraas harka kudhan keessaa tokko nan kenna.’
13 “Namichi qaraxa walitti qabu sun garuu fagoo dhaabate, qoma isaa dhadha’aa,
‘Yaa Waaqayyo, ani nama cubbamaadhaatii naa na’i!’ jedhe malee ija isaatiin illee
ol jedhee gara samii hin ilaalle.
14 “Ani isinittin hima; namichi kun namicha duraa irra fuula Waaqaa duratti
qajeelaa ta’ee mana isaatti gale. Namni ol of qabu hundinuu gad qabamaatii; namni
gad of qabu garuu ol qabama.”

* **17:36** 17:36 Waraabbileen tokko tokko luqqisaa 36 hin qaban.

### *Yesuusii fi Ijoollee Xixinnoo*
*18:15-17 kwf – Mat 19:13-15; Mar 10:13-16*

15 Namoonni akka inni harka isaan irra kaa'uuf daa'immanis Yesuusitti fidaa turan.
Barattoonni garuu yommuu waan kana arganitti isaan ifatan. 16 Yesuus garuu ijoollee
sana ofitti waamee akkana jedhe; "Ijoolleen xixinnoon gara koo haa dhufaniitii
hin dhowwinaa; mootummaan Waaqaa kan warra akkanaatii. 17 Ani dhuguman
isinitti hima; namni akkuma ijoolleetti mootummaa Waaqaa hin simanne kam iyyuu
gonkumaa itti hin galu."

### *Fakkeenya Sooressaatii fi Mootummaa Waaqaa*
*18:18-30 kwf – Mat 19:16-29; Mar 10:17-30*

18 Bulchaan tokko, "Yaa Barsiisaa gaarii, ani jireenya bara baraa dhaaluuf maal
gochuun qaba?" jedhee isa gaafate.
19 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Ati maaliif gaarii naan jetta? Waaqa tokkicha
malee gaariin hin jiru. 20 Ati ajajawwan ni beekta; 'Hin ejjin; hin ajjeesin; hin hatin;
sobaan dhugaa hin ba'in; abbaa keetii fi haadha keetiif ulfina kenni.'*"
21 Namichis, "Ani ijoollummaa kootii jalqabee ajajawwan kanneen hunda eegeera"
jedhe.
22 Yesuusis yommuu waan kana dhaga'etti, "Amma illee waan tokkotu si duraa
hir'ata; waan qabdu hunda gurgurii hiyyeeyyiif kenni; samii keessatti badhaadhum-
maa ni qabaattaa. Ergasii kottuu na duukaa bu'i" jedheen.
23 Inni yommuu waan kana dhaga'etti baay'ee gadde; akka malee sooressa tureetii.
24 Yesuusis isa ilaalee akkana jedhe; "Mootummaa Waaqaatti galuun sooreyyiif akkam
rakkisaa dha! 25 Dhugumaan namni sooressi mootummaa Waaqaatti galuu irra
qaawwa lilmoo keessa ba'uutu gaalaaf salphata."
26 Warri waan kana dhaga'anis, "Yoos eenyutu fayyuu danda'a ree?" jedhanii
gaafatan.
27 Yesuusis, "Wanni namaaf hin danda'amne, Waaqaaf ni danda'ama" jedhee
deebise.
28 Phexrosis, "Kunoo, nu waan qabnu hunda dhiifnee si duukaa buuneerra"
jedheen.
29 Yesuus immoo akkana isaaniin jedhe; "Ani dhuguman isinitti hima; namni
sababii mootummaa Waaqaatiif jedhee mana yookaan niitii yookaan obboloota
yookaan haadhaa fi abbaa yookaan ijoollee dhiisee, 30 bara kana keessa dachaa
baay'ee, bara dhufuuf jiru keessa immoo jireenya bara baraa utuu hin argatin hafu
tokko iyyuu hin jiru."

### *Yesuus Yeroo Sadaffaa Waa'ee Du'a Isaa Dubbate*
*18:31-33 kwf – Mat 20:17-19; Mar 10:32-34*

31 Yesuus warra kudha lamaan kophaatti baasee akkana jedheen; "Kunoo nu
Yerusaalemitti ol ba'aa jirra; wanni raajonni waa'ee Ilma Namaa barreessan
hundinuus ni raawwatama. 32 Inni dabarfamee Namoota Ormaatti ni kennama.
Isaanis isatti qoosu; isa arrabsu; isatti tufu; isa garafu; isa ajjeesus. 33 Innis guyyaa
sadaffaatti du'aa ni ka'a."
34 Barattoonni garuu waan kana hunda keessaa tokko illee hin hubanne; hiikkaan
isaas isaan duraa dhokfamee ture. Inni maal akka dubbachaa tures isaaniif hin galle.

### *Namichi Jaamaan Tokko Fayyifamuu Isaa*
*18:35-43 kwf – Mat 20:29-34; Mar 10:46-52*

35 Yeroo Yesuus Yerikootti dhi'aatetti, namichi jaamaan tokko qarqara karaa taa'ee
kadhachaa ture. 36 Innis akka tuunni namootaa karaa sana darbaa jiru dhageenyaan,

* **18:20** 18:20 Bau 20:12; KeD 5:16-20

waan ta’aa ture gaafate. 37 Isaanis, “Yesuus nama Naazreetitu asiin darbaa jira”
jedhanii isatti himan.

38 Innis, “Yesuus, yaa ilma Daawit, na maari!” jedhee iyye.

39 Namoonni fuula dura deemaa turanis akka inni cal’isuuf isa ifatan; inni garuu,
“Yaa ilma Daawit na maari!” jedhee ittuma caalchisee iyye.

40 Yesuusis dhaabatee akka isaan namicha gara isaa fidan ajaje. Yommuu inni gara
isaatti dhi’aatetti Yesuus akkana jedhee isa gaafate; 41 “Akka ani maal siif godhu
barbaadda?”

Namichis, “Yaa Gooftaa, ani arguun barbaada” jedhee deebise.

42 Yesuusis, “Argi; amantiin kee si fayyiseeraa” jedheen. 43 Innis yeruma sana argee
Waaqa jajachaa Yesuus duukaa bu’e. Namoonni hundinuus yommuu waan kana
arganitti Waaqa jajan.

# 19

### *Yesuusii fi Zakkewoos*

1 Yesuus Yerikoo seenee achi keessa darbaa ture. 2 Namichi Zakkewoos jedhamu
tokkos achi ture; innis hangafa warra qaraxa walitti qabaniitii fi sooressa ture. 3 Innis
Yesuus nama akkamii akka ta’e arguu barbaade; garuu gabaabaa waan tureef, sababii
baay’ina namootaatiif isa arguu hin dandeenye. 4 Yesuus waan karaa sana irra
darbaa tureef, Zakkewoos isa arguuf jedhee fiigee dura darbee muka qilxuu tokko
yaabe.

5 Yesuus yommuu iddoo sana ga’etti ol mil’atee, “Yaa Zakkewoos, har’a mana
kee ooluun narra jiraatii dafii gad bu’i” jedheen. 6 Innis yommusuma gad bu’ee
gammachuudhaan isa simate.

7 Namoonni hundinuu yommuu waan kana arganitti, “Inni keessummaa ‘Nama
cubbamaa’ ta’uu dhaqe!” jedhanii guungumuu jalqaban.

8 Zakkewoos garuu ka’ee dhaabatee Gooftaadhaan, “Yaa Gooftaa kunoo, ani
walakkaa qabeenya koo hiyyeeyyiif nan kenna; ani yoon nama tokko illee gowwoom-
see saamee jiraadhe, waanan fudhadhe sana harka afur godhee nan deebisa” jedhe.

9 Yesuus deebisee akkana jedheen; “Namichi kunis waan ilma Abrahaam ta’eef,
har’a fayyinni mana kanaaf dhufeera. 10 Ilmi Namaa isa bade barbaaduu fi
fayyisuudhaaf dhufeetii.”

### *Fakkeenya Minnaanii Kudhannanii*
### *19:12-27 kwi – Mat 25:14-30*

11 Yesuusis utuma isaan waan kana dhaga’aa jiranuu itti fufee, fakkeenya tokko
isaanitti hime; kanas sababii inni Yerusaalemitti dhi’aatee fi sababii namoonni waan
mootummaan Waaqaa yeruma sana mul’atu se’aniif dubbate. 12 Innis akkana jedhe;
“Namichi sanyii mootii tokko muudamee mootii ta’ee deebi’uuf biyya fagoo dhaqe.
13 Namichi sunis garboota isaa keessaa nama kudhan waamee, ‘Hamma ani deebi’utti
maallaqa kanaan daldalaa’ jedhee minnaanii kudhan isaanitti kenne.

14 “Namoonni biyya isaa garuu isa jibbanii, ‘Akka namichi kun nurratti mootii ta’u
hin feenu!’ jedhanii bakka bu’oota isaanii isa duubaan ergatan.

15 “Innis erga muudamee mootii ta’ee deebi’ee booddee garboonni inni maallaqa
itti kennee ture sun ittiin daldalanii maal akka argatan beekuuf jedhee nama itti
ergee isaan waamsise.

16 “Garbichi jalqabaa dhufee, ‘Yaa Gooftaa, minnaaniin kee minnaanii gara biraa
kudhan dhaleera’ jedheen.

17 “Gooftaan isaas deebisee, ‘Yaa garbicha gaarii, ati waan gaarii hojjette. Sababii ati
waan akka malee xinnoo irratti amanamaa taateef, magaalaa kudhan irratti taayitaa
qabaadhu’ jedheen.
18 “Garbichi lammaffaanis dhufee, ‘Yaa Gooftaa, minnaaniin kee minnaanii gara
biraa shan dhaleera’ jedheen.
19 “Gooftaan isaas deebisee, ‘Atis magaalaa shan irratti mo’i’ jedheen.
20 “Inni sadaffaan immoo dhufee akkana jedhe; ‘Yaa Gooftaa, minnaaniin kee
kunoo ti; ani huccuudhaan maree dhokseen ture. 21 Ati gara jabeessa waan taateef
ani sin sodaadhe; ati waan hin kaa’atin fudhatta; waan hin facaasinis haammatta.’
22 “Gooftaan isaas deebisee akkana jedhe; ‘Yaa garbicha hamaa nana; ani dubbuma
afaan keetiitiin sittin mura; ati akka ani nama dabaa waan hin kaa’atin fudhatu, waan
hin facaasinis haammatu ta’e beekta mitii? 23 Yoos akka ani yommuun deebi’utti
dhala isaa wajjin fudhadhuuf maaliif maallaqa koo mana baankii naa hin kaa’in
ree?’
24 “Gooftichis warra achi dhadhaabataniin, ‘Minnaanii sana isa harkaa fuudhaatii
namicha minnaanii kudhan qabuuf kennaa’ jedhe.
25 “Isaanis deebisanii, ‘Yaa Gooftaa, inni duraanuu minnaanii kudhan qaba’
jedhaniin.
26 “Inni immoo deebisee akkana jedhe; ‘Ani isinittin hima; kan qabu hundaafuu
itti dabalamee ni kennama; kan hin qabne garuu wanni inni qabu iyyuu irraa
fudhatama; 27 diinota koo kanneen akka ani isaan irratti mootii ta’u hin barbaadin
immoo as fidaatii fuula koo duratti isaan gogorra’aa.’ ”

### *Yesuus Akka Mootiitti Yerusaalem Seenuu Isaa*
*19:29-38 kwf – Mat 21:1-9; Mar 11:1-10*
*19:35-38 kwf – Yoh 12:12-15*

28 Yesuus erga waan kana dubbatee booddee Yerusaalemitti ol ba’uuf isaan dura
deemaa ture. 29 Innis akkuma Beetfaagee fi Biitaaniyaa kanneen tulluu Gaara Ejersaa
jedhamu biraa sanatti dhi’aateen barattoota isaa keessaa lama erge; 30 akkanas
isaaniin jedhe; “Gara ganda fuula keessan dura jiru sanaa dhaqaa; akkuma achi
seentaniinis, ilmoo harree kan namni tokko iyyuu takkumaa hin yaabbatin tokko
achitti hidhamee jiru ni argattu. Isa hiikaatii as fidaa. 31 Yoo namni tokko iyyuu, ‘Isin
maaliif hiiktu?’ jedhee isin gaafate, ‘Gooftaatu isa barbaada’ jedhaa.”
32 Warri ergamanis dhaqanii waan hunda akkuma inni isaanitti himetti argatan.
33 Utuu isaan ilmoo harree sana hiikaa jiranuus warri harree sanaa, “Ilmoo harree
kana maaliif hiiktu?” jedhanii isaan gaafatan.
34 Isaanis, “Gooftaatu isa barbaada” jedhanii deebisan.
35 Ilmoo harree sanas Yesuusitti fidan; uffata isaaniis harree sana irra buusan;
Yesuusinis irra teessisan. 36 Utuu inni deemuus namoonni uffata isaanii karaa irra
afan.
37 Yeroo inni daandii Tulluu Ejersaa irraa gad bu’utti dhi’aatettis, barattoonni hundi
hojii dinqii arganii turan hundatti gammadanii, sagalee guddaan akkana jedhanii
Waaqa galateeffachuu jalqaban.
38 “Mootiin maqaa Gooftaatiin dhufu eebbifamaa dha!”*

“Nagaan samii irratti, ulfinnis ol gubbaatti!”
39 Namoota achi turan keessaas Fariisonni tokko tokko Yesuusiin, “Yaa Barsiisaa,
barattoota kee ifadhu!” jedhan.
40 Innis deebisee, “Ani isinittin hima; yoo isaan cal’isan illee dhagoonni ni iyyu”
jedheen.

---
* **19:38** 19:38 Far 118:26

41 Yesuusis yommuu Yerusaalemitti dhi’aatee magaalattii argetti ni boo’eef;
42 akkanas jedhe; “Utuu atumti waan har’a nagaa siif kennu beektee gaarii ture!
Amma garuu ija kee duraa dhokfameera. 43 Guyyoonni itti diinonni kee koobii
sitti ijaaranii, si marsanii, karaa hundaanis ba’uu si dhowwan sitti ni dhufuutii.
44 Diinonni si’ii fi ijoollee kee warra dallaa kee keessa jiraatan biyyootti maku. Isaan
dhagaa tokko dhagaa kaan irratti hin dhiisan; ati yeroo itti Waaqni gara kee dhufu
hin beekneetii.”

*Yesuus Mana Qulqullummaa Keessatti*
*19:45,46 kwf – Mat 21:12-16; Mar 11:15-18; Yoh 2:13-16*

45 Yesuus mana qulqullummaa seenee warra gurgurachaa turan ari’uu jalqabe.
46 Innis, “ ‘Manni koo mana kadhannaa ta’a’ jedhamee barreeffameera; isin garuu
‘Holqa saamtotaa’ gootaniirtu”† isaaniin jedhe.
47 Guyyuma guyyaanis mana qulqullummaa keessatti barsiisaa ture; luboonni
hangafoonni, barsiistonni seeraatii fi dura bu’oonni sabaa garuu isa ajjeesuudhaaf
jabeessanii barbaadaa turan. 48 Ta’us isaan karaa ittiin isa ajjeesan hin arganne;
namoonni hundinuu yaada tokkoon waan inni dubbate dhaggeeffachaa turaniitii.

# 20

*Taayitaan Yesuus Gaaffii Uume*
*20:1-8 kwf – Mat 21:23-27; Mar 11:27-33*

1 Gaaf tokko utuu Yesuus mana qulqullummaa keessatti namoota barsiisuu, utuu
wangeelas lallabuu luboonni hangafoonnii fi barsiistonni seeraa maanguddoota
wajjin gara isaa dhufan. 2 Isaanis, “Ati akka taayitaa maaliitiin waan kana hojjettu
nutti himi. Eenyutu taayitaa kana siif kenne” jedhan.
3 Innis akkana jedhee deebise; “Anis gaaffii tokkon isin gaafadha. Isin immoo natti
himaa: 4 Cuuphaan Yohannis samii irraa dhufe moo nama biraa dhufe?”
5 Isaanis waliin mari’atanii akkana jedhan; “Yoo nu, ‘Samii irraa dhufe’ jenne inni
immoo, ‘Isin maaliif isa hin amanin ree?’ jedhee nu gaafata. 6 Yoo nu, ‘Nama biraa
dhufe’ jenne garuu namoonni hundinuu akka Yohannis raajii ta’e waan amananiif
dhagaadhaan nu tumu.”
7 Kanaaf isaan, “Inni eessaa akka dhufe nu hin beeknu” jedhan.
8 Yesuus immoo, “Anis taayitaa maaliitiin akkan waan kana hojjedhu isinitti hin
himu” jedheen.

*Fakkeenya Qottuuwwanii*
*20:9-19 kwf – Mat 21:33-46; Mar 12:1-12*

9 Innis akkana jedhee fakkeenya kana namootatti himuu jalqabe; “Namichi
tokko iddoo dhaabaa wayinii irra wayinii dhaabbatee, qonnaan bultootatti kiraa
kennatee biyya fagoo dhaqee yeroo dheeraa ture. 10 Innis yeroo midhaan walitti
qabamutti akka isaan ija iddoo dhaabaa wayinii irraa waa kennaniif garbicha tokko
qottuuwwan sanatti ergate. Qottuuwwan sun garuu tumanii harka duwwaa of irraa
isa deebisan. 11 Innis garbicha biraa ergate; isaan garuu isas tumanii, qaanessaniis
harka duwwaa of irraa isa deebisan. 12 Amma illee garbicha sadaffaa ergate; isaan
immoo isas madeessanii gad isa darbatan.
13 “Ergasii abbichi iddoo dhaabaa wayinii, ‘Maal gochuu naa wayya? Ka’een ilma
koo jaallatamaa itti erga; tarii isa ni kabaju ta’aatii’ jedhe.
14 “Qottoonni sun garuu yommuu isa arganitti, ‘Dhaaltuun isa kana; kottaa
isa ajjeefnaa; dhaalli sun kan keenya ta’aatii’ jedhanii walii wajjin dudubbatan.
15 Kanaafuu isaan iddoo dhaabaa wayinii keessaa gad baasanii isa ajjeesan.

† **19:46** 19:46 Erm 7:11

“Egaa abbaan iddoo dhaabaa wayinii sanaa maal isaan godhinna laata? 16 Inni
dhufee qottuuwwan sana ni ajjeesa; iddoo dhaabaa wayinii sanas namoota biraatti
kennata.”
Namoonnis yommuu waan kana dhaga’anitti, “Waaqni waan kana hin fidin!”
jedhan.
17 Yesuusis isaan ilaalee, akkana jedhe; “Egaa inni,
“ ‘Dhagaan ijaartonni tuffatan
dhagaa golee ta’eera jedhamee barreeffame maal jechuu isaati ree’[*]?
18 Namni dhagaa sana irratti kufu hundinuu caccabee bututa; namni dhagichi irratti
kufu kam iyyuu ni daakama.”
19 Barsiistonni seeraatii fi luboonni hangafoonni akka inni fakkeenya kana isaaniin
mormuun dubbate waan beekaniif yeruma sana isa qabuu barbaadan. Garuu
namoota sana sodaatan.

*Qeesaariif Gibira Kaffaluu*
*20:20-26 kwf – Mat 22:15-22; Mar 12:13-17*

20 Jarris isa gaadaa, akka isaan waan inni dubbatuun isa qabanii dabarsanii
humnaa fi taayitaa bulchaatti isa kennaniif jedhanii basaastota nama nagaa of
fakkeessan ergan. 21 Basaastonni sunis akkana jedhanii isa gaafatan; “Yaa Barsiisaa,
nu akka ati waan qajeelaa dubbatuu fi waanuma qajeelaa barsiiftu, akkasumas akka
ati dhugaadhaan karaa Waaqaa barsiisuu malee nama wal hin caalchifne beekna.
22 Qeesaariif gibira kaffaluun eeyyamameera moo hin eeyyamamne?”[†]
23 Inni garuu haxxummaa isaanii argee akkana isaaniin jedhe; 24 “Mee diinaarii
tokko natti argisiisaa. Fakkii fi katabbii eenyuutu isa irra jira?”
Isaanis, “Kan Qeesaar” jedhanii deebisan.
25 Kana irratti inni, “Yoos kan Qeesaar Qeesaariif, kan Waaqaa immoo Waaqaaf
kennaa” jedheen.
26 Isaanis waan inni dubbateen fuula namootaa duratti isa qabuu hin dandeenye.
Deebii isaas dinqisiifatanii cal’isan.

*Gaaffii Waa’ee Du’aa Ka’uu*
*20:27-40 kwf – Mat 22:23-33; Mar 12:18-27*

27 Saduuqota du’aa ka’uun hin jiru jedhan keessaa tokko tokko waa gaafachuuf
jedhanii gara Yesuus dhufan; 28 akkanas jedhan; “Yaa Barsiisaa yoo obboleessi
nama tokkoo niitii fuudhee utuu ijoollee hin dhalchin du’e, akka namichi sun
niitii sana dhaalee ijoollee dhalchee obboleessa isaatiif sanyii dabarsu Museen nuu
barreesseera. 29 Kunoo obboloota torbatu ture. Inni hangafni niitii fuudhee ijoollee
malee du’e. 30 Inni lammaffaan, 31 inni sadaffaanis ishee fuudhan; haaluma wal
fakkaatuun isaan torbanuu utuu ijoollee hin dhalchin du’an. 32 Dhuma irratti
dubartittiinis ni duute. 33 Egaa guyyaa du’aa ka’uutti isheen niitii isa kamii taati?
Torban isaanii iyyuu ishee fuudhaniiruutii.”
34 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; “Namoonni addunyaa kanaa ni fuudhu; ni
heerumus. 35 Warri addunyaa dhufuuf jiruu fi du’aa ka’uu keessatti hirmaachuun
isaanii malu garuu hin fuudhan; hin heerumanis. 36 Isaan waan akka ergamootaa
ta’aniif deebi’anii hin du’an; waan ijoollee du’aa ka’uu ta’aniifis isaan ijoollee
Waaqaa ti. 37 Garuu Museen iyyuu seenaa waa’ee daggalaa keessatti akka warri du’an

---

[*] **20:17** 20:17 Far 118:22 [†] **20:22** 20:22 Qeesaariif gibira kaffaluun – Mootummaan Roomaa biyya isaanii qabachuu isaa Yihuudoonni hin beekan ture. Utuu Yesuus hin dhufin waggaa digdamii shaniin dura, sababii gibira kaffaluutiin mootummaa Roomaatti mormiin guddaan tokko ka’ee ture. Kanaaf gaaffiin kun gaaffii micciiramaa dha. Yesuus yoo kaffaltii gibiraa deeggare, fudhatama nama biratti qabu sana dhaba. Yoo kaffaltii gibiraa morme immoo dabarfamee abbootii aangoo mootummaatti kennama.

du’aa ka’an argisiiseera; inni Gooftaadhaan, ‘Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaqii fi
Waaqa Yaaqoob’‡jedhee waamaatii. 38 Inni Waaqa warra jiraataniiti malee Waaqa
warra du’anii miti; hundinuu isaaf jiraatoodhaatii.”
39 Barsiistota seeraa keessaa tokko tokko, “Yaa Barsiisaa, dhugaa jette!” jedhanii
deebisan. 40 Namni tokko iyyuu deebi’ee gaaffii isa gaafachuuf ija hin jabaanne.

*Kiristoos Ilma Eenyuu ti?*
*20:41-47 kwf – Mat 22:41–23:7; Mar 12:35-40*

41 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; “Isaan akkamitti Kiristoos§ilma Daawit jechuu
danda’u? 42 Daawit mataan isaa iyyuu kitaaba faarfannaa keessatti akkana jedha;
“ ‘Gooftichi Gooftaa kootiin akkana jedhe;
“Karaa mirga koo taa’i;
43 hamma ani diinota kee,
ejjeta miilla keetii siif godhutti.” ’*
44 Daawit ‘Gooftaa’ jedhee isa waama. Yoos inni akkamitti ilma isaa ta’uu danda’a
ree?”
45 Utuu namoonni hundinuu isa dhaga’aa jiranuu, Yesuus barattoota isaatiin
akkana jedhe; 46 “Barsiistota seeraa irraa of eeggadhaa. Isaan uffata dhedheeraa uffa-
tanii nanaanna’uu fi gabaa keessattis nagaa gaafatamuu, manneen sagadaa keessatti
taa’umsa ulfinaa, lafa cidhaatti immoo iddoo ulfinaa jaallatu. 47 Isaanis mana haadha
hiyyeessaa saamanii onsu; of argisiisuuf jedhaniis kadhannaa dheeressu. Namoonni
kunneen adaba guddaa adabamu.”

# 21

*Buusii Haadha Hiyyeessaa Tokkoo*
*21:1-4 kwf – Mar 12:41-44*

1 Yesuusis ol mil’atee sooreyyii kennaa isaanii mi’a buusii keessa buusaa jiran arge.
2 Akkasumas haadha hiyyeessaa hiyyeettii tokko saantima sibiila diimaa xixinnoo
lama buusuu ishee arge. 3 Innis akkana jedhe; “Ani dhuguman isinitti hima; haati
hiyyeessaa hiyyeettiin kun warra kaan hunda caalaa buufteerti. 4 Namoonni kunneen
hundi qabeenya isaanii irraa kennan; isheen garuu hiyyuma ishee keessaa waan ittiin
jiraattu hunda kennite.”

*Mallattoo Dhuma Baraa*
*21:5-36 kwf – Mat 24; Mar 13*
*21:12-17 kwf – Mat 10:17-22*

5 Barattoota isaa keessaas tokko tokko waa’ee mana qulqullummaa, haala manni
qulqullummaa sun dhagaawwan babbareedanii fi kennaawwan Waaqaaf kenna-
maniin itti miidhagfame dudubbachaa turan. Yesuus garuu akkana jedhe; 6 “Yeroon
itti wanni isin ilaaltan kun hundinuu, utuu dhagaan tokko iyyuu wal irratti hin hafin
diigamu tokko ni dhufa.”
7 Isaanis, “Yaa barsiisaa, wanni kun yoom ta’a? Mallattoon yeroo wanni kun itti
fiixaan ba’uu ga’uu maali?” jedhanii gaafatan.
8 Innis akkana jedhee deebise; “Isin akka hin gowwoomfamneef of eeggadha.
Namoonni hedduun, ‘Ani isa; yeroon sun dhi’aateera’ jechaa maqaa kootiin ni
dhufuutii. Isin garuu isaan duukaa hin bu’inaa. 9 Yommuu waa’ee waraanaatii
fi waa’ee fincilaa dhageessanitti, hin sodaatinaa. Wanni kun duraan dursee ta’uu
qabaatii; dhumni garuu yeruma sana hin ta’u.”

‡ **20:37** 20:37 Bau 3:6 § **20:41** 20:41 yookaan Masiihichi * **20:43** 20:43 Far 110:1

10 Innis akkana isaaniin jedhe; “Sabni sabatti, mootummaanis mootummaatti ni
ka’a. 11 Iddoo garaa garaatti sochiin lafaa guddaan, beellii fi golfaan ni ta’a; samii
irrattis wanni sodaachisaanii fi mallattoon gurguddaan ni ta’a.
12 “Kana hunda dura garuu isaan isin qabu; isin ari’atus. Dabarsanii manneen
sagadaatti isin kennu; mana hidhaa keessas isin buusu; isin maqaa kootiif jettanii
fuula moototaatii fi bulchitootaa duratti ni dhi’eeffamtu. 13 Akkasiin isin anaaf
dhugaa baatu. 14 Isin garuu akkamitti akka falmattan duraan dursitanii akka hin
yaaddofne yaadatti qabadhaa. 15 Anuu afaanii fi ogummaa diinonni keessan tokko
iyyuu danda’anii dura hin dhaabanne yookaan hin mormine isiniif nan kennaatii.
16 Abbaa fi haati, obboloonni, firoonnii fi michoonni dabarsanii isin kennu; isin
keessaas tokko tokko ni ajjeesu. 17 Namni hundinuu sababii maqaa kootiif isin
jibba. 18 Garuu rifeensi mataa keessanii tokko iyyuu hin badu. 19 Isin jabaadhaa
dhaabadhaa; yoos lubbuu keessan ni oolfattu.
20 “Isin yommuu Yerusaalem loltootaan marfamtee argitanitti akka badiin ishee
dhi’aate beekaa. 21 Yommus warri Yihuudaa keessa jiran gaarranitti haa baqatan;
warri magaalaa keessa jiranis achii haa ba’an; warri baadiyyaa jiran immoo
magaalaa hin seenin. 22 Akka wanni barreeffame hundinuu raawwatamuuf yeroon
kun yeroo haaloo baasuutii. 23 Bara sana keessa dubartoota ulfaatii fi haadhota
hoosisaniif wayyoo! Lafa irratti dhiphinni guddaan, saba kanatti immoo dheekkamsi
ni dhufaatii. 24 Isaanis goraadeedhaan ajjeefamu; booji’amaniis biyyoota ormaa
hundatti ni geeffamu; hamma barri Namoota Ormaa dhumutti Yerusaalem Namoota
Ormaatiin dhidhiitamti.
25 “Aduu irratti, ji’a irratti, urjiiwwan irrattis mallattoon ni ta’a. Lafa irrattis sababii
huursaatii fi dha’aa galaanaatiif saboonni ni muddamu; waan ta’anis ni wallaalu.
26 Namoonnis sababii humnoonni samii irraa raafamaniif, waan addunyaa kanatti
dhufuuf jiru yaadda’anii sodaadhaan ni gaggabu. 27 Isaanis yeroo sana utuu Ilmi
Namaa humnaa fi ulfina guddaadhaan duumessaan dhufuu ni argu. 28 Yommuu
wanni kun ta’uu jalqabutti mataa keessan ol qabadhaa; olis ilaalaa; furamuun
keessan dhi’aateeraatii.”
29 Innis akkana jedhee fakkeenya kana isaanitti hime; “Mee muka harbuutii fi
muka hunda ilaalaa. 30 Yommuu isaan baala baafatanitti isin mataan keessan iyyuu
ilaaltanii akka bonni dhi’aate beekuu dandeessu. 31 Akkasuma isinis yommuu wanni
kun raawwatamuu isaa argitanitti akka mootummaan Waaqaa dhi’aate ni beektu.
32 “Ani dhuguma isinittin hima; hamma wanni kun hundi ta’utti dhaloonni kun
hin darbu. 33 Samii fi lafti ni darbu; dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu.
34 “Isin of eeggadhaa; yoo kanaa achii qalbiin keessan qananiidhaan, machii
fi yaaddoo jireenyaatiin fudhatamee guyyaan sunis utuu isin hin beekin akkuma
kiyyoo isin qabata. 35 Guyyaan sun warra lafa irra jiraatan hundatti ni dhufaatii.
36 Kanaafuu akka waan dhufuuf jiru hunda jalaa baataniif, akka fuula Ilma Namaa
duras dhaabachuu dandeessaniif yeroo hunda dammaqaa; kadhadhaas.”
37 Yesuus guyyuma guyyaan mana qulqullummaa keessatti barsiisaa ture; halkan
halkan immoo tulluu Gaara Ejersaa jedhamu irra bula ture. 38 Namoonni hundinuus
isa dhaggeeffachuuf jedhanii barii barraaqaan mana qulqullummaa dhufu turan.

# 22

*Yihuudaan Yesuusin Dabarsee Kennuu Isaa*
*22:1,2 kwf – Mat 26:2-5; Mar 14:1,2,10,11*

1 Yeroo sana Ayyaanni Maxinoo kan Faasiikaa jedhamu dhi’aate ture; 2 luboonni
hangafoonnii fi barsiistonni seeraa waan namoota sodaataniif, mala ittiin Yesuusin
ajjeesan barbaadaa turan. 3 Ergasiis seexanni namicha Yihuudaa Keeriyoticha

jedhamu kan jara Kudha Lamaan keessaa tokko ture sanatti gale. 4 Yihuudaanis gara
luboota hangafootaatii fi ajajjoota waardiyyaa mana qulqullummaa dhaqee haala
ittiin Yesuusin dabarsee kennu irratti isaan wajjin mari'ate. 5 Isaanis gammadanii
maallaqa isaaf kennuuf walii galan. 6 Innis tole jedhee yeroo namoonni hin jirretti
Yesuusin dabarsee isaanitti kennuudhaaf haala mijaa'aa eeggachaa ture.

*Irbaata Gooftaa*
*22:7-13 kwf – Mat 26:17-19; Mar 14:12-16*
*22:17-20 kwf – Mat 26:26-29; Mar 14:22-25; 1Qr 11:23-25*
*22:21-23 kwf – Mat 26:21-24; Mar 14:18-21; Yoh 13:21-30*
*22:25-27 kwf – Mat 20:25-28; Mar 10:42-45*
*22:33,34 kwf – Mat 26:33-35; Mar 14:29-31; Yoh 13:37,38*

7 Guyyaan Ayyaana Maxinoo kan hoolaan Faasiikaa itti qalamuu qabu ga'ee ture.
8 Yesuusis, "Akka Faasiikaa nyaannuuf dhaqaatii nuu qopheessaa" jedhee Phexrosii
fi Yohannisin erge.

9 Isaanis, "Akka nu eessatti qopheessinu barbaadda?" jedhanii isa gaafatan.

10 Inni immoo deebisee akkana jedhe; "Akkuma isin magaalaa seentaniin, namichi
okkotee bishaanii baatu tokko isinitti dhufa. Gara mana inni seenuutti isa duukaa
bu'aatii, 11 abbaa mana sanaatiin, 'Barsiisaan, "Manni keessummaa, iddoon ani itti
barattoota koo wajjin Faasiikaa nyaadhu eessaa?" siin jedha' jedhaa. 12 Abbaan
manaa sunis darbii bal'aa mi'a manaatiin guutame tokko isinitti argisiisa. Isinis
achitti qopheessaa."

13 Isaanis dhaqanii akkuma Yesuus isaanitti hime sanatti argatan. Faasiikaas ni
qopheessan.

14 Yommuu sa'aatiin sun ga'etti Yesuusii fi ergamoonni isaa maaddiitti dhi'aatan.
15 Innis akkana isaaniin jedhe; "Ani utuu hin dhiphatiniin dura isin wajjin Faasiikaa
kana nyaachuu akka malee hawween ture. 16 Ani isinittin himaatii; hamma
Faasiikaan kun mootummaa Waaqaa keessatti raawwatamutti ani deebi'ee isa hin
nyaadhu."

17 Innis erga xoofoo fuudhee galata galchee booddee akkana jedhe; "Kana fudhad-
haatii gargar qooddadhaa. 18 Ani isinitti nan himaatii; ani hamma mootummaan
Waaqaa dhufutti ija wayinii kana irraa deebi'ee hin dhugu" jedhe.

19 Innis buddeena fuudhee galata galchee, caccabsee isaaniif kennee, "Kun foon
koo kan isiniif kennamuu dha; kanas yaadannoo kootiif godhadhaa" jedheen.

20 Akkasumas irbaata booddee xoofoo sana fuudhee akkana jedhe; "Xoofoon kun
Kakuu Haaraa dhiiga koo kan isiniif dhangalaafamuun ta'uu dha. 21 Garuu harki
namicha dabarsee na kennu sanaa kunoo harka koo wajjin maaddii irra jira. 22 Ilmi
Namaa akkuma murteeffame sanatti ni deema. Garuu namicha dabarsee isa kennu
sanaaf wayyoo!" 23 Isaanis namni isaan keessaa waan kana gochuuf jiru eenyu akka
ta'e wal gaggaafachuu jalqaban.

24 Akkasumas isaan keessaa namni akka nama nama hundumaa caaluutti ilaalamu
eenyu akka ta'e irratti wal falmiin gidduu isaaniitti ka'e. 25 Yesuusis akkana isaaniin
jedhe; "Mootonni Namoota Ormaa isaan irratti gooftummaa mul'isu; warri isaan
irratti taayitaa argisiisan immoo Gargaartota ofiin jedhu. 26 Isin garuu akkas ta'uu
hin qabdan. Qooda kanaa isin keessaa namni nama hunda caalu, akka quxisuu
nama hundaa, bulchaan immoo akka tajaajilaa haa ta'u. 27 Eenyutu guddaa dha?
Nama maaddiitti dhi'aatu moo nama tajaajilu? Nama maaddiitti dhi'aatu mitii? Ani
garuu isin gidduutti akka tajaajilaa tokkoo ti. 28 Isin immoo warra yeroo qorama
koo na wajjin turtanii dha. 29 Akkuma Abbaan koo mootummaa natti kenne, anis
akkasuma isinittin kenna; 30 kunis akka isin mootummaa koo keessatti maaddii koo

irraa nyaattanii fi dhugdan, akka teessoowwan irra teessanii gosoota Israa'el kudha lamaanitti murtaniif.
31 "Yaa Simoon, yaa Simoon; kunoo, Seexanni akkuma qamadiitti isin gingilchuuf
kadhateera. 32 Yaa Simoon, ani garuu akka amantiin kee hin dadhabneef siif kadhadheera; atis yommuu deebitutti, obboloota kee jajjabeessi."
33 Sim'oon garuu deebisee, "Yaa Gooftaa, ani si wajjin hidhamuu fi du'uuf illee qophaa'eera" jedhe.
34 Yesuus, "Yaa Phexros, ani sittin hima; ati har'a utuu indaanqoon hin iyyin akkuma na beektu illee yeroo sadii ni ganta" jedhee deebise.
35 Yesuusis, "Yeroo ani borsaa, korojoo yookaan kophee malee isin erge sana waa isin duraa hir'ateeraa?" jedhee isaan gaafate.
Isaanis deebisanii, "Wanni tokko iyyuu hin hir'anne" jedhan.
36 Inni immoo akkana isaaniin jedhe; "Amma garuu yoo borsaa qabaattan fudhadhaa; yoo korojoo qabaattanis fudhadhaa; yoo goraadee hin qabaannes uffata keessan
gurguraatii goraadee bitadhaa. 37 Wanni, 'Inni yakkitootatti lakkaa'ame'*jedhamee barreeffame sun akka narratti raawwatamuu qabu ani isinitti hima; wanni waa'ee koo barreeffame raawwatamuu ga'eeraatii."
38 Barattoonnis, "Yaa Gooftaa, kunoo goraadee lamatu as jira" jedhan.
Innis, "Ni ga'a" jedhee deebiseef.

### *Yesuus Tulluu Ejersaa Irratti kadhachuu Isaa*
*22:40-46 kwf – Mat 26:36-46; Mar 14:32-42*

39 Yesuusis achii ba'ee, akkuma amala isaa gara Tulluu Ejersaa dhaqe; barattoonni
isaas isa duukaa bu'an. 40 Innis akkuma iddoo sana ga'een, "Isin akka qorumsatti
hin galleef kadhadhaa" isaaniin jedhe. 41 Innis hamma darbata dhagaa tokkoo achi
hiiqee, jilbeenfatees akkana jedhee kadhate; 42 "Yaa Abbaa, yoo fedhii kee ta'e, xoofoo kana narraa fuudhi; garuu akka fedhii keetii malee akka fedhii kootii hin
ta'in." 43 Ergamaan Waaqaa tokkos samii irraa isatti mul'atee isa jajjabeesse. 44 Innis
lubbamee jabeessee kadhate; dafqi isaas akka coccopha dhiigaa lafatti cophaa ture.
45 Innis yommuu kadhannaa irraa ka'ee gara barattootaatti deebi'etti, isaanii
gaddaan bututanii rafaa jiran isaan arge. 46 Innis, "Isin maaliif raftu? Isin akka qorumsatti hin galleef ka'aatii kadhadhaa" isaaniin jedhe.

### *Yesuus Qabamuu Isaa*
*22:47-53 kwf – Mat 26:47-56; Mar 14:43-50; Yoh 18:3-11*

47 Utuma inni amma iyyuu dubbachaa jiruus, tuunni namootaa tokko dhufe; namichi Yihuudaa jedhamu kan warra Kudha Lamaan keessaa tokko ta'e sunis isaan
dura deemaa ture. Innis Yesuusin dhungachuuf itti dhi'aate; 48 Yesuus garuu, "Yaa Yihuudaa, ati dhungoodhaan Ilma Namaa dabarsitee kennitaa?" jedhee gaafate.
49 Warri isa wajjin turanis yommuu waan ta'uuf jiru arganitti, "Yaa Gooftaa,
goraadeedhaan isaan dhoofnuu" jedhan. 50 Isaan keessaas namni tokko garbicha luba ol aanaa dha'ee gurra isaa mirgaa irraa kute.
51 Yesuusis deebisee, "Dhiisaa! Waan akkanaa itti hin deebi'inaa" jedhe; gurra namichaas tuttuqee fayyise.
52 Ergasiis Yesuus luboota hangafoota, dura bu'oota mana qulqullummaatii fi maanguddoota isa qabuu dhufaniin akkana jedhe; "Isin goraadee fi bokkuu qabattanii
akka nama hattuu qabuutti dhuftanii? 53 Ani guyyuma guyyaan mana qulqullummaa keessa isin wajjinan ture; isin harkaanuu na hin tuqne. Garuu sa'aatiin kun sa'aatii keessan; innis yeroo itti dukkanni mo'uu dha."

* **22:37** 22:37 Isa 53:12

### *Phexros Yesuusin Ganuu Isaa*
*22:55-62 kwf – Mat 26:69-75; Mar 14:66-72; Yoh 18:16-18,25-27*

54 Isaanis isa qabanii fuudhanii deeman; fidaniis mana luba ol aanaa ol isa
seensisan. Phexros immoo fagootti duukaa bu'aa ture. 55 Yommuu isaan walakkaa
lafa dallaa keessaatti ibidda qabsiisanii walii wajjin tataa'anitti Phexrosis isaan wajjin
taa'e. 56 Xomboreen tokkos utuu inni ifa ibiddaa keessa taa'ee jiruu isa argite.
Isheenis hubattee isa ilaaltee, "Namichi kunis isa wajjin ture" jette.
57 Inni garuu, "Dubartii nana, ani isa hin beeku" jedhee gane.
58 Yeroo xinnoo booddee namni biraa isa argee, "Atis jara keessaa tokkoo dha"
jedhe.
Phexros garuu, "Namichoo, ana miti" jedhee deebise.
59 Gara Sa'aatii tokkoo booddee namni biraa, "Namichi kunis waan nama Galiilaa
ta'eef dhuguma iyyuu isa wajjin ture" jedhee jabeessee dubbate.
60 Phexros immoo deebisee, "Namichoo, ani waan ati jettu kana hin beeku" jedhe.
Utuma inni dubbachaa jiruus indaanqoon iyye. 61 Gooftaanis garagalee Phexrosin
ilaale. Phexrosis waan Gooftaan, "Ati har'a utuu indaanqoon hin iyyin yeroo sadii
na ganta" isaan jedhee ture sana yaadate. 62 Innis gad ba'ee hiqqifatee boo'e.

### *Eegdonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii*
*22:63-65 kwf – Mat 26:67,68; Mar 14:65; Yoh 18:22,23*

63 Namoonni Yesuusin eegaa turan sun isatti qoosuu fi isa tumuu jalqaban.
64 Isaanis isa haguuganii, "Mee raajii dubbadhu! Eenyutu si rukute?" jedhanii isa
gaafatan. 65 Isaanis isa arrabsaa waan hedduu isaan jedhan.

### *Yesuus Yaa'ii Yihuudootaa Duratti Dhi'aachuu Isaa*
*22:67-71 kwf – Mat 26:63-66; Mar 14:61-63; Yoh 18:19-21*
*23:2,3 kwf – Mat 27:11-14; Mar 15:2-5; Yoh 18:29-37*
*23:18-25 kwf – Mat 27:15-26; Mar 15:6-15; Yoh 18:39–19:16*

66 Yommuu lafti bari'ettis yaa'iin maanguddoota sabaa akkasumas luboonni
hangafoonnii fi barsiistonni seeraa walitti qabaman; yaa'ii isaanii durattis Yesuusin
dhi'eessanii, 67 "Ati yoo Kiristoos† taate mee nutti himi" jedhaniin.
Yesuusis akkana jedhee deebise; "Yoo ani isinitti hime isin na hin amantan; 68 yoo
ani isin gaafadhes hin deebiftan. 69 Garuu si'achi Ilmi Namaa karaa mirga humna
Waaqaatiin ni taa'a."
70 Hundi isaaniis, "Yoos ati Ilma Waaqaatii ree?" jedhanii gaafatan.
Innis deebisee, "Akka ana ta'e isinuu ni dubbattu!" jedhe.
71 Kana irratti isaan, "Kana caalaa dhuga ba'umsa maalii nu barbaachisa? Nu
mataan keenya iyyuu afaanuma isaa irraa dhageenyeerraatii" jedhan.

## 23

1 Ergasii yaa'iin sun guutuun ka'ee Yesuusin gara Phiilaaxoositti geesse. 2 Isaanis,
"Nu utuu namichi kun saba keenya karaa irraa jal'isuu, utuu inni akka Gibirri
Qeesaariif hin baafamne godhuu, akkasumas utuu inni akka mataan isaa Kiristoos*
mooticha ta'e dubbatuu argineerra" jedhanii isa himachuu jalqaban.
3 Kanaafuu Phiilaaxoos, "Ati mootii Yihuudootaatii?" jedhee Yesuusin gaafate.
Yesuus immoo, "Atuu jette kaa!" jedhee deebise.
4 Phiilaaxoosis luboota hangafootaa fi tuuta namootaatiin, "Ani namicha kana
irratti yakka tokko illee hin arganne" jedhe.
5 Isaan garuu ittuma caalchisanii, "Inni Galiilaa irraa jalqabee Yihuudaa hunda
keessatti barsiisa isaatiin saba jeeqaa hamma asiitti illee dhufeera" jedhan.

† **22:67** 22:67 yookaan Masiihicha * **23:2** 23:2 yookaan Masiihii

6 Phiilaaxoosis yommuu waan kana dhaga'etti, "Namichi kun nama Galiilaatii?"
jedhee gaafate. 7 Innis yommuu akka Yesuus nama kutaa Heroodis bulchuu ta'e
beeketti Heroodisitti isa erge; Heroodisis yeroo sana Yerusaalem keessa ture.
8 Heroodis yommuu Yesuusin argetti akka malee gammade; inni sababii waa'ee
Yesuus dhaga'aa fi hojii dinqii kan inni hojjetu tokko tokko akka arguu abdachaa
tureef yeroo dheeraaf isa arguu barbaadaa ture. 9 Innis Gaaffii baay'ee isa
gaafate; Yesuus garuu deebii tokko illee hin kennineef. 10 Luboonni hangafoonnii
fi barsiistonni seeraa achi dhadhaabatanii cimsanii isa himachaa turan. 11 Heroodisii
fi loltoonni isaa isa tuffatan; isatti qoosanis. Isaanis uffata miidhagaa isatti uffisanii
deebisanii Phiilaaxoositti isa ergan. 12 Guyyuma sana Heroodisii fi Phiilaaxoos walitti
michooman; isaan duraan diina walii turaniitii.
13 Phiilaaxoosis luboota hangafoota, bulchitootaa fi saba walitti waamee, 14 akkana
isaaniin jedhe; "Isin namichi kun, 'karaa irraa saba jal'isa' jettanii isa natti fiddan;
anis fuuluma keessan duratti isa qoree akka inni waan isin ittiin isa himattan sana
keessaa tokko illee hojjete hin argine. 15 Heroodisis waan tokko illee isa irratti hin
argine; inni deebisee isa nutti ergeeraatii. Akkuma isin argitan kana namichi kun
waan du'aan isa ga'u tokko illee hin hojjenne. 16 Kanaafuu ani namicha kana adabeen
gad isa dhiisa." [ 17 Phiilaaxoosis guyyaa ayyaanaatiin nama tokko mana hidhaatii
gad isaanii dhiisuun dirqama ture.]†
18 Isaan garuu sagalee tokkoon iyyanii, "Namicha kana balleessi! Barabbaasin
gad nuu dhiisi!" jedhan. 19 Barabbaas sababii fincila magaalaa keessatti ka'eetii
fi ajjeechaa namaatiin mana hidhaa keessa buufamee ture.
20 Phiilaaxoosis Yesuusin gad dhiisuu barbaadee amma illee isaanitti dubbate.
21 Isaan garuu, "Isa fannisi! Isa fannisi!" jedhanii iyyaa turan.
22 Innis yeroo sadaffaa, "Maaliif? Namichi kun yakka maalii hojjete? Ani yakka
du'aan isa ga'u isa irratti hin arganne. Kanaafuu ani isa adabeen gad isa dhiisa"
isaaniin jedhe.
23 Isaan garuu akka inni fannifamuuf sagalee guddaadhaan ittuma cichanii
gaafatan; iyyi isaaniis ittuma jabaate. 24 Kanaaf Phiilaaxoos waan isaan kadhatan
sana isaaniif kennuu murteesse. 25 Innis namicha sababii fincilaatii fi sababii
ajjeechaa namaatiin mana hidhaa keessa buufame kan isaan akka inni hiikamuuf
kadhatan sana gad dhiise; Yesuusin immoo dabarsee fedhii isaaniitti kenne.

### *Yesuus Fannifamuu Isaa*

*23:33-43 kwf – Mat 27:33-44; Mar 15:22-32; Yoh 19:17-24*

26 Isaanis utuu Yesuusin geessaa jiranuu Simoon namicha Qareenaa tokko utuu
inni baadiyyaadhaa dhufaa jiruu qaban; fannoo sanas isa irra kaa'anii akka inni
baatee Yesuus duubaan deemu isa dirqisiisan. 27 Namoonni baay'een, dubartoota
keessaas warri isaaf gaddaa fi boo'aa turan isa duukaa bu'an. 28 Yesuusis isaanitti
garagalee akkana jedhe; "Yaa durboota Yerusaalem, ofii keessanii fi ijoollee keessaniif
boo'aa malee naaf hin boo'inaa. 29 Kunoo guyyoonni itti namoonni, 'dubartoonni
dhabdoonni, garaan takkumaa ulfa hin baatinii fi harmi takkumaa hin hoosisin
eebbifamoo dha' jedhan ni dhufuutii. 30 Yeroo sana,
" 'Namoonni gaarraniin, "Nurratti jigaa!"
tulluuwwaniin immoo, "Nu dhoksaa!"‡ni jedhu.'
31 Isaan erga muka jiidhaa akkana godhanii muka gogaa immoo akkam haa godhan?"
32 Namoonni biraa kanneen yakkitoota turan lamas isa wajjin ajjeefamuuf
geeffaman. 33 Yommuu iddoo Buqqee Mataa jedhamu ga'anitti achitti isa fannisan;
yakkitoota sanas, isa tokko mirga isaatiin, kaan immoo bitaa isaatiin fannisan.

† **23:17** 23:17 Waraabbileen durii tokko tokko luqqisaa kana hin dabalatan. ‡ **23:30** 23:30 Hos 10:8

34 Yesuusis, "Yaa Abbaa, isaan waan hojjetan hin beekaniitii isaaniif dhiisi" jedhe.
Isaanis ixaa buufatanii uffata isaa gargar qooddatan.
35 Namoonnis achi dhadhaabatanii ilaalaa turan; bulchitoonni garuu, "Inni warra
kaan oolcheera. Inni yoo dhuguma Kiristoos Waaqaa isa Filatamaa sana ta'e mee of
haa oolchuu!" jedhanii isatti qoosan.
36 Loltoonnis isatti dhi'aatanii itti qoosaa daadhii wayinii dhangaggaa'aa kennani-
ifii, 37 "Ati yoo mootii Yihuudootaa taate mee of oolchi" jedhan.
38 Katabbiin,

Kun Mooticha Yihuudootaa ti,

jedhu tokkos mataa isaatii ol ture.
39 Yakkitoota achitti fannifaman keessaa tokko, "Ati Kiristoos mitii? Mee of oolchi;
nu illee oolchi!" jedhee isa arrabse.
40 Yakkituun kaan garuu akkana jedhee isa ifate; "Atis waan murtii wal fakkaatu
jala jirtuuf, Waaqa illee hin sodaattuu? 41 Nu adabbii sirrii adabamaa jirra; gatii hojii
keenyaaf malu argachaa jirraatii. Namichi kun garuu yakka tokko illee hin hojjenne."
42 Yesuusiinis, "Yaa Yesuus, yeroo mootummaa keetiin dhuftutti na yaadadhu"
jedhe.
43 Yesuusis deebisee, "Ani dhuguman sitti hima; ati har'a na wajjin jannatatti ni
galta" jedheen.

*Du'uu Yesuus*
*23:44-49 kwf – Mat 27:45-56; Mar 15:33-41*

44 Yeroon sun gara sa'aatii ja'aa ture; hamma sa'aatii sagaliitti dukkanni lafa hunda
irra bu'e; 45 aduun ifa dhowwatteetii. Golgaan mana qulqullummaas iddoo lamatti ni
tarsa'e. 46 Yesuusis sagalee guddaadhaan iyyee, "Yaa Abbaa, ani hafuura koo dabarsee
harka keettin kennadha" jedhe. Kana jedhees hafuura dhumaa baafate.
47 Ajajaan dhibbaa sunis yommuu waan ta'e sana argetti Waaqaaf ulfina kennee,
"Dhugumaanuu namichi kun nama qajeelaa ture" jedhe. 48 Namoonni waan kana
ilaaluuf iddoo sanatti walitti qabaman hundi yommuu waan ta'e sana arganitti
qoma isaanii rurrukutaa achii deeman. 49 Warri isa beekan hundi, dubartoonni
Galiilaadhaa isa duukaa bu'anis fagoo dhaabatanii waan kana ilaalaa turan.

*Awwaalamuu Yesuus*
*23:50-56 kwf – Mat 27:57-61; Mar 15:42-47; Yoh 19:38-42*

50 Kunoo namicha miseensa waldaa Yihuudootaa kan Yoosef jedhamu tokkotu
ture; inni nama gaarii fi qajeelaa ture; 51 innis murtii fi hojii isaanii irratti jaraan
walii hin galle. Yoosef magaalaa Yihuudaa kan Armaatiyaa jedhamtuu dhufe; innis
mootummaa Waaqaa eeggachaa ture. 52 Namichi kun gara Phiilaaxoos dhaqee reeffa
Yesuus kadhate. 53 Reeffa sanas gad buusee huccuu quncee talbaa irraa hojjetameen
kafanee awwaala garaa kattaa keessatti qotame kan namni tokko iyyuu duraan itti
hin awwaalamin tokko keessa kaa'e. 54 Guyyaan sun Guyyaa qophii ture; Sanbannis
seenuu ga'eera.
55 Dubartoonni Yesuus wajjin Galiilaadhaa dhufanis Yoosef duukaa bu'anii
awwaala sanaa fi akka itti reeffi Yesuus awwaala keessa kaa'ame argan. 56 Achii
deebi'aniis qayyaa fi shittoo qopheessan. Guyyaa Sanbataa garuu seeraaf ajajamuuf
jedhanii boqotan.

# 24

*Yesuus Du'aa Ka'uu Isaa*
*24:1-10 kwf – Mat 28:1-8; Mar 16:1-8; Yoh 20:1-8*

1 Guyyaa jalqaba torban sanaa ganama barii, dubartoonni sun urgooftuu
qopheessan sana fudhatanii gara awwaalaa dhaqan. 2 Isaanis dhagaa sana balbala
awwaalaa irraa gara galfamee argan; 3 yommuu seenanitti garuu reeffa Gooftaa
Yesuus hin arganne. 4 Utuma isaan waa'ee kanaa dinqisiifachaa jiranuu, namoonni
uffata caccalaqqisaa uffatan lama isaan bira dhadhaabatan. 5 Dubartoonni sunis
sodaatanii mataa buusanii lafa ilaalan; namoonni sun garuu akkana isaaniin jedhan;
"Isin maaliif warra du'an keessa isa jiraataa barbaaddu? 6 Inni as hin jiru;
ka'eera! Waan inni yeroo isin wajjin Galiilaa turetti isinitti hime sana yaadadhaa.
7 'Ilmi Namaa dabarfamee harka cubbamootaatti ni kennama; ni fannifama; guyyaa
sadaffaatti immoo ni kaafama' jedhee tureetii." 8 Dubartoonnis dubbii isaa yaadatan.
9 Isaanis yommuu iddoo awwaalaatii deebi'anitti waan kana hunda barattoota
kudha tokkottii fi namoota hafan hundatti himan. 10 Warri waan kana ergamootatti
himanis Maariyaam ishee Magdalaa, Yohaanaa, Maariyaam haadha Yaaqoobii fi
dubartoota biraa warra isaan wajjin turanii dha. 11 Isaan garuu sababii dubbichi
oduu sobaa itti fakkaateef dubartoota sana hin amanne. 12 Ta'us Phexros ka'ee gara
awwaala sanaatti fiige. Yommuu gad jedhee ilaalettis huccuu quncee talbaa irraa
hojjetame qofa arge; innis waan arge sana dinqifachaa deebi'e.

### *Karaa Gara Emaahuus Geessu Irratti*

13 Guyyuma sana isaan keessaa namoonni lama ganda Emaa'uus jedhamu dhaqaa
turan; Emaa'uusis Yerusaalem irraa gara kiiloo meetira kudha tokkoo fagaata.
14 Isaanis waa'ee waan ta'e sana hundaa walitti dudubbachaa turan. 15 Utuma isaan
walitti dudubbachaa fi wajjin haasa'aa jiranuus Yesuus mataan isaa itti dhi'aatee
isaan wajjin deemuu jalqabe. 16 Garuu akka isaan isa hin hubanneef iji isaanii
qabamee ture.
17 Innis, "Wanni isin dudubbachaa deemtan kun maali?" jedhee isaan gaafate.
Isaanis gaddanii achuma dhadhaabatan. 18 Isaan keessaa namichi Qileyoophaa
jedhamu tokko immoo deebisee, "Waan gidduu kana achitti ta'e kan hin beekne ati
Yerusaalemiif keessummaadhaa?" jedheen.
19 Innis, "Maal faatu ta'e?" jedhee gaafate.
Isaanis deebisanii akkana jedhan, "Waa'ee Yesuus nama Naazreeti; inni raajii
ture; fuula Waaqaatii fi fuula nama hundaa durattis dubbii fi hojiidhaan jabaa ture.
20 Luboonni hangafoonnii fi bulchitoonni keenya akka duuti itti muramuuf dabarsanii
isa kennan; isa fannisanis. 21 Nu garuu namni Israa'elin furu isa jennee abdannee
turre. Kana irratti immoo erga wanni kun hundi ta'ee har'a guyyaa sadaffaa dha.
22 Akkasumas dubartoota keenya keessaa tokko tokko nu dinqisiisaniiru; isaanis barii
barraaqaan gara awwaala sanaa dhaqanii, 23 reeffa isaa achii dhaban. Dubartoonni
sunis deebi'anii akka ergamoonni isaanitti mul'atanii, Yesuus jiraataa ta'uu isaa
isaanitti himan nutti odeessan. 24 Warra nu wajjin turan keessaas namoonni tokko
tokko gara awwaalaa dhaqanii akka wanni sun akkuma dubartoonni nutti odeessan
sana ta'e argan; isa garuu hin argine."
25 Innis akkana isaaniin jedhe; "Isin yaa warra hin hubannee fi warra waan
raajonni dubbatan hunda amanuuttis mataa jabaattan! 26 Kiristoos*waan kana
hundaan dhiphatee ergasii immoo ulfina isaatti galuu hin qabu turee?" 27 Innis
Musee fi raajota hunda irraa jalqabee waan Katabbiiwwan Qulqulluu hunda keessatti
waa'ee isaa dubbatame isaaniif ibse.
28 Yommuu ganda dhaqaa turan sanatti dhi'aatanittis Yesuus waan darbee deemu
of fakkeesse. 29 Isaan garuu, "Sababii galgalaa'uu ga'ee fi dukkanaa'aa jiruuf, nu bira
buli" jedhanii jabeessanii isa kadhatan. Innis isaan bira buluuf gore.

* **24:26** 24:26yookaan Masiihichi

30 Innis yommuu isaan wajjin maaddiitti dhi’aatetti buddeena fuudhee, eebbisee,
caccabsees isaaniif kenne. 31 Iji isaanii ni baname; isas ni beekan; innis ija isaanii
duraa dhokate. 32 Isaanis, “Yeroo inni karaatti nu wajjin dubbachaa turee fi yeroo inni
Katabbiiwwan Qulqulluu nuu ibsaa ture sana, garaan keenya nu keessatti boba’aa hin
turree?” jedhanii wal gaafatan.
33 Yeruma sanas ka’anii Yerusaalemitti deebi’an; achitti immoo barattoota kudha
tokkoo fi namoota isaan wajjin turan sana walitti qabamanii argan. 34 Warri walitti
qabaman sunis, “Dhugumaan Gooftaan du’aa ka’eera; Simoonittis mul’ateera” jechaa
turan. 35 Namoonni lamaan sunis waan karaa irratti ta’e hundumaa fi yeroo Yesuus
buddeena caccabse sana akkamitti akka isa beekan odeessan.

*Yesuus Barattootatti Mul’achuu Isaa*

36 Utuu isaan waan kana dudubbachaa jiranuu, Yesuus mataan isaa isaan gidduu
dhaabatee, “Nagaan isiniif haa ta’u” jedheen.
37 Isaan garuu waan ekeraa argan se’anii na’an; ni sodaatanis. 38 Innis akkana
isaaniin jedhe; “Maaliif sodaattu? Mamiinis maaliif garaa keessan keessatti uumama?
39 Akka anuma mataa koo ta’e mee harka koo fi miilla koo ilaalaa! Qaqqabadhaatii na
ilaalaa; ekeraan foonii fi lafee hin qabu; ani garuu akkuma isin argitan kana foonii
fi lafee qaba.”
40 Innis waan kana dubbatee harka isaatii fi miilla isaa isaanitti argisiise. 41 Utuma
isaan sababii gammachuutii fi sababii dinqifannaatiif amma illee hin amanin, “Isin
waan nyaatamu asii qabduu?” jedhee isaan gaafate. 42 Isaanis qurxummii waadame
kennaniif; 43 innis fudhatee fuuluma isaanii duratti nyaate.
44 Innis, “Yeroo ani isin bira turetti, ‘Wanni seera Musee keessatti, kitaabota raa-
jotaatii fi kitaaba faarfannaa keessatti waa’ee koo barreeffame hundi raawwatamuu
qaba’ jedhee isinitti hime sun isa kana” jedheen.
45 Innis akka isaan Katabbiiwwan Qulqulluu hubataniif qalbii isaanii baneef.
46 Akkanas isaaniin jedhe; “Wanni barreeffame akkana jedha; ‘Kiristoos ni dhiphata;
guyyaa sadaffaatti immoo warra du’an keessaa ni ka’a; 47 maqaa isaatiinis qalbii ji-
jjiirrachuunii fi dhiifamni cubbuu Yerusaalemii jalqabee saba hundatti ni lallabama.’
48 Isinis dhuga baatota waan kanaa ti. 49 Kunoo ani waan Abbaan koo waadaa
isinii gale sana isiniif nan erga; isin garuu hamma olii humna uffattanitti magaalaa
Yerusaalem keessa turaa.”

*Yesuus Samiitti Ol Ba’e*

50 Innis achii baasee hamma Biitaaniyaatti isaan geesse; harka isaa lamaanis
ol kaafatee isaan eebbise. 51 Utuma isaan eebbisaa jiruus isaan dhiisee samiitti
ol fudhatame. 52 Isaanis isaaf sagadanii gammachuu guddaadhaan Yerusaalemitti
deebi’an. 53 Yeroo hundas mana qulqullummaa keessatti Waaqa galateeffachaa turan.

# Wangeela
# Yohannis

*Dubbiin Foon Ta'uu Isaa*
1 Jalqabatti dubbiitu ture; dubbichis Waaqa wajjin ture; dubbiin sunis Waaqa ture.
2 Innis jalqabatti Waaqa wajjin ture. 3 Wanni hundinuu isaan ta'e; waan ta'e hunda
keessaas wanni isa malee ta'e tokko iyyuu hin jiru. 4 Jireenyi isa keessa ture; jireenyi
sunis ifa namootaa ture. 5 Ifni sun dukkana keessatti ni ibsa; dukkanni garuu isa hin
mo'anne.
6 Nama Waaqa biraa ergame kan maqaan isaa Yohannis jedhamu tokkotu ture.
7 Innis akka namni hundinuu karaa isaatiin amanuuf dhuga baatuu ta'ee waa'ee
ifa sanaa dhugaa ba'uuf dhufe. 8 Waa'ee ifa sanaa dhugaa ba'uu dhufe malee inni
mataan isaa ifa hin turre.
9 Ifni dhugaa kan nama hundaaf ifa kennu sun gara addunyaa dhufaa ture.
10 Inni addunyaa keessa ture; addunyaan isaan uumame; addunyaan garuu isa hin
beekne. 11 Innis gara saba isaa dhufe; sabni isaa garuu isa hin fudhanne. 12 Warra
isa fudhatanii maqaa isaatti amananiif garuu akka ijoollee Waaqaa ta'aniif mirga
kenne. 13 Isaanis Waaqa irraa dhalatan malee dhiiga irraa yookaan fedhii foonii
irraa yookaan fedhii dhiiraa irraa hin dhalanne.
14 Dubbiin foon ta'ee nu gidduu jiraate. Nus ulfina isaa, ulfina Ilma Tokkicha
ayyaanaa fi dhugaadhaan guutamee Abbaa biraa dhufe sanaa argineerra.
15 Yohannisis waa'ee isaa dhugaa ba'e. Sagalee isaas ol fudhatee akkana jedhe;
"Inni ani, 'Inni na duubaan dhufu na caala; inni na dura tureetii' jedhee waa'ee
isaa dubbadhe sun isa kana." 16 Guutama isaa irraas hundi keenya ayyaana irratti
ayyaana arganneerra. 17 Seerri karaa Museetiin kennameetii; ayyaannii fi dhugaan
garuu karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufe. 18 Eenyu iyyuu takkumaa Waaqa hin argine;
garuu Ilma Tokkicha Abbaa bira jiru sanatu isa beeksise.

*Yohannis Cuuphaan Akka Ofii Isaatii Kiristoos Hin ta'in Dubbate*
19 Yommuu Yihuudoonni lubootaa fi Lewwota Yerusaalem Yohannisitti erganii, "Ati
eenyu?" jedhanii gaafachiisanitti dhuga ba'umsi Yohannis kenne kana ture. 20 Inni
dhugaa ba'e malee hin ganne; "Ani Kiristoos* miti" jedhee dhugaa ba'e.
21 Isaanis, "Yoos ati eenyu ree? Eeliyaas moo?" jedhanii isa gaafatan.
Innis, "Lakki, ani isa miti" jedhee deebiseef.
Isaanis, "Yoos ati Raajichaa ree?"† jedhaniin.
Inni immoo, "Lakki" jedheen.
22 Isaanis, "Ati eenyu ree? Akka warra nu erganiif deebii kenninuuf ati eenyu ofiin
jetta?" jedhaniin.
23 Yohannisis dubbii Isaayyaas raajichi dubbate sanaan deebisee, "Ani sagalee
gammoojjii keessaa, 'Gooftaaf karaa qajeelchaa'‡ jedhee iyyu sanaa dha" jedheen.
24 Fariisonni ergaman tokko tokkos, 25 akkana jedhanii isa gaafatan; "Ati erga
Kiristoos yookaan Eeliyaas yookaan raajicha ta'uu baattee maaliif cuuphxa ree?"
26 Yohannis immoo akkana jedhee deebiseef; "Ani bishaaniin nan cuupha; namni
isin isa hin beekne tokko garuu isin gidduu dhaabata. 27 Innis isa na duubaan dhufu
kan ani hidhaa kophee isaa iyyuu hiikuufii hin mallee dha."
28 Wanni kun hundi Yordaanos gama iddoo Yohannis itti cuuphaa ture Biitaaniyaa
keessatti ta'e.

---

* **1:20** 1:20 yookaan Masiihicha † **1:21** 1:21 KeD 18:15 ‡ **1:23** 1:23 Isa 40:3

### *Yesuus Hoolaa Waaqaa*

29 Guyyaa itti aanutti Yohannis utuu Yesuus gara isaa dhufuu argee akkana jedhe;
“Ilaa Hoolaa Waaqaa isa cubbuu addunyaa balleessu! 30 Inni ani, ‘Namni na duubaan
dhufu na caala; inni na dura tureetii’ jedhee waa’ee isaa dubbadhe sun isa kana.
31 Ani mataan koo iyyuu isa hin beekun ture; sababiin ani bishaaniin cuuphaa dhufeef
garuu akka inni saba Israa’elitti mul’ifamuuf.”
32 Yohannis itti fufee akkana jedhee dhugaa ba’e; “Ani utuu Hafuurri akkuma
gugeetti samii irraa gad bu’ee isa irra jiraatuu nan arge. 33 Inni akka ani bishaaniin
cuuphuuf na erge sun, ‘Namichi ati utuu Hafuurri gad bu’ee isa irra jiraatuu argitu
sun, isa Hafuura Qulqulluudhaan cuuphu dha’ jedhee utuu natti himuu baatee silaa
ani iyyuu isa hin beeku ture. 34 Anis argeera; akka inni Ilma Waaqaa ta’es dhugaa
ba’eera.”

### *Barattoonni Yohannis Yesuus Duukaa Bu’uu Isaanii*
*1:40-42 kwf – Mat 4:18-22; Mar 1:16-20; Luq 5:2-11*

35 Guyyaa itti aanutti Yohannis ammas barattoota isaa keessaa lama wajjin achi
ture. 36 Innis utuu Yesuus achi irra darbuu argee, “Ilaa, Hoolaa Waaqaa!” jedhe.
37 Barattoonni lamaanis waan kana dubbachuu isaa dhaga’anii Yesuus duukaa
bu’an. 38 Yesuusis of irra garagalee isa duukaa bu’uu isaanii argee, “Isin maal
barbaaddu?” jedheen.
Isaanis, “Rabbii, ati eessa jiraatta?” jedhaniin. Rabbii jechuun Barsiisaa jechuu
dha.
39 Innis, “Kottaatii ilaalaa” jedheen.
Isaanis dhaqanii akka inni eessa jiraatu argan; gaafa sana isa wajjin oolan. Yeroon
sunis gara sa’aatii kurnaffaa ture.
40 Warra waan Yohannis dubbate dhaga’anii Yesuus duukaa bu’an lamaan keessaa
inni tokko Indiriiyaas obboleessa Simoon Phexros ture. 41 Innis duraan dursee
obboleessa isaa Simoonin argatee, “Nu Masiihicha arganneerra” jedheen; Masiihii
jechuun Kiristoos jechuu dha. 42 Indiriiyaasis Sim’oonin gara Yesuusitti fide.
Yesuusis isa ilaalee, “Ati Simoon ilma Yohannis, Keefaa jedhamtee ni waamamta”
jedheen. Keefaa jechuun Phexros jechuu dha.

### *Yesuus Fiiliphoosii fi Naatnaa’elin Waamuu Isaa*

43 Yesuusis guyyaa itti aanutti Galiilaa dhaquu barbaade. Innis Fiiliphoosin argee,
“Na duukaa bu’i” jedheen.
44 Fiiliphoosis akkuma Indiriiyaasii fi Phexros nama magaalaa Beetisayidaa ture.
45 Fiiliphoos Naatnaa’elin argee, “Isa Museen kitaaba Seeraa keessatti waa’ee isaa
barreessee fi isa raajonnis waa’ee isaa barreessan, ilma Yoosef, Yesuus nama
Naazreeti arganneerra” jedheen.
46 Naatnaa’elis, “Naazreeti keessaa wanni gaariin ba’uu ni danda’aa?” jedhee
gaafate.
Fiiliphoosis, “Kottuutii ilaali” jedheen.
47 Yesuusis utuu Naatnaa’el gara isaa dhufuu argee, “Ilaa Israa’elicha dhugaa kan
haxxummaan keessa hin jirre!” jedhee waa’ee isaa dubbate.
48 Naatnaa’elis, “Ati eessatti na beekta?” jedheen.
Yesuusis, “Utuu Fiiliphoos si hin waamin dura yeroo ati muka harbuu jala turtettin
si arge” jedhee deebiseef.
49 Naatnaa’elis, “Yaa Barsiisaa, ati Ilma Waaqaa ti! Ati Mootii Israa’el” jedheen.
50 Yesuus immoo akkana jedheen; “Ati sababii ani muka harbuu jalattan si arge
siin jedheef amantee? Waan kana caalu iyyuu arguuf jirta.” 51 Innis itti dabalee, “Ani

dhuguman, dhuguman isiniin jedha; samiin banamee utuu ergamoonni Waaqaa Ilma Namaa irra ol ba'anii gad bu'anuu ni argitu" jedheen.

# 2

### *Yesuus Bishaan Gara Daadhii Wayiniitti Geeddaruu Isaa*

1 Guyyaa sadaffaatti Qaanaa Galiilaa keessa cidha gaa'elaatu* ture. Haati Yesuusiis
achi turte; 2 Yesuusii fi barattoonni isaa gara cidha sanaatti waamamanii turan.
3 Yommuu Daadhiin wayinii dhumetti haati Yesuus, "Jarri daadhii wayinii hin qaban"
isaan jette.

4 Yesuus immoo deebisee, "Dubartii nana! Maal godhi naan jetta? Yeroon koo
amma illee hin geenye" jedheen.

5 Haati isaas tajaajiltootaan, "Waanuma inni isinitti himu hunda godhaa" jette.

6 Gaaniiwwan dhagaa ja'a sirna qulqulleessuu Yihuudootaatiif achi dhaabamanii
turan; tokkoon tokkoon isaaniis gara liitiroo 75 hamma 115 qabata ture.

7 Yesuus tajaajiltootaan, "Gaaniiwwanitti bishaan guutaa" jedhe; isaanis hamma
afaan gaaniiwwaniitti guutan.

8 Innis, "Egaa budduuqsaatii abbaa cidhaatti kennaa" jedheen.

Isaanis akkasuma godhan; 9 abbaan cidhaas bishaan gara daadhii wayiniitti
geeddarame sana afaaniin qabee ilaale. Daadhiin wayinii sun eessaa akka dhufe
tajaajiltoota bishaan waraabanitu beeka malee abbaan cidhaa sun hin beeku ture.
Innis misirricha waamee 10 akkana jedheen; "Namni hundi daadhii wayinii isa gaarii
jalqabatti dhi'eessee, erga keessumoonni machaa'anii booddee immoo daadhii isa
laafaa dhi'eessa; ati garuu daadhii gaarii hamma ammaatti tursite."

11 Yesuus mallattoowwan isaa keessaa isa jalqabaa kana Qaanaa Galiilaa keessatti
hojjete. Ulfina isaas ni mul'ise; barattoonni isaas isatti amanan.

### *Yesuus Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu Isaa*
### *2:14-16 kwf – Mat 21:12,13; Mar 11:15-17; Luq 19:45,46*

12 Kana booddees inni haadha isaa, obboloota isaatii fi barattoota isaa wajjin
Qifirnaahomitti gad bu'e. Isaanis guyyoota muraasa achi turan.

13 Yesuusis waan Faasiikaan Yihuudootaa dhi'aateef Yerusaalemitti ol ba'e. 14 Mana
qulqullummaa keessattis warra loon, hoolotaa fi gugee gurguratanii fi warra
taa'anii maallaqa geeddaran arge. 15 Innis quncee irraa qaccee dha'atee nama
hundumaa hoolotaa fi loon wajjin mana qulqullummaa keessaa ari'e; saantima
warra maallaqa geeddaraniis bittinneesse; minjaala isaaniis garagalche. 16 Warra
gugee gurguraniinis, "Kana hunda asii baasaa! Mana Abbaa koo mana daldalaa
hin godhinaa!" jedhe. 17 Barattoonni isaas, "Hinaaffaan mana keetii na gugguba"†
jedhamee akka barreeffame yaadatan.

18 Yihuudoonnis deebisanii, "Kana hunda hojjechuuf akka taayitaa qabdu mirka-
neessuuf mallattoo maalii nutti argisiisuu dandeessa?" jedhanii isa gaafatan.

19 Yesuus, "Mana qulqullummaa kana jigsaa; ani immoo guyyaa sadiitti olin
dhaabaa" jedhee deebiseef.

20 Yihuudoonnis deebisanii, "Mana qulqullummaa kana ijaaruun waggaa afurtamii
ja'a fudhate; ati immoo guyyaa sadii keessatti ol dhaabdaa?" jedhaniin. 21 Manni
qulqullummaa kan inni waa'ee isaa dubbate sun garuu dhagna isaa ti. 22 Erga inni
du'aa ka'ee booddee barattoonni isaa waan inni dubbatee ture sana yaadatan. Isaanis
Katabbii Qulqulluu fi dubbii Yesuus dubbate amanan.

---

* **2:1** 2:1 Cidha gaa'elaatu – Cidhi gaa'elaa torban tokko guutuu fudhata ture. † **2:17** 2:17 Far 69:9

[23] Yeroo inni Ayyaana Faasiikaatiif jedhee Yerusaalem turetti namoonni baay'een
mallattoo inni hojjete arganii maqaa isaatti amanan. [24] Yesuus garuu waan nama
hunda beekuuf, amanee isaanitti of hin dhiifne. [25] Akka namni tokko iyyuu waa'ee
namaa isaaf dhugaa ba'u isa hin barbaachifne; inni waan nama keessa jiru beeka tureetii.

# 3

*Yesuus Niqoodemoosin Barsiisuu Isaa*

[1] Fariisicha Niqoodemoos jedhamu bulchaa Yihuudootaa tokkotu ture. [2] Innis
halkaniin Yesuus bira dhaqee, "Yaa barsiisaa, akka ati barsiisaa Waaqa biraa dhufte taate nu beekna; nama Waaqni isa wajjin jiru malee namni mallattoo ati hojjettu kana hojjechuu danda'u tokko iyyuu hin jiruutii" jedheen.

[3] Yesuusis deebisee, "Ani dhuguman, dhuguman sitti hima; namni yoo lammata dhalate malee mootummaa Waaqaa arguu hin danda'u" jedheen.

[4] Niqoodemoos immoo, "Namni erga dulloomee booddee akkamitti dhalachuu danda'a? Dhalachuuf jedhee lammata gadameessa haadha isaa keessa seenuu danda'aa?" jedhee gaafate.

[5] Yesuusis akkana jedhee deebise; "Ani dhuguman, dhuguman sitti hima; namni yoo bishaanii fi Hafuura irraa dhalate malee mootummaa Waaqaatti galuu hin danda'u.
[6] Kan foon irraa dhalate foon; kan Hafuura irraa dhalate garuu hafuura. [7] Jecha
ani, 'Ati lammata dhalachuu si barbaachisa siin jedhe hin dinqifatin.' [8] Bubbeen
gara fedhetti bubbisa. Atis huursuu isaa dhageessa malee akka inni eessaa dhufee fi akka inni garamitti deemu hin beektu; namni Hafuura irraa dhalate hundinuus akkanuma."

[9] Niqoodemoosis, "Kun akkamitti ta'uu danda'a?" jedhee gaafate.

[10] Yesuus akkana jedhee deebiseef; "Ati utuu barsiisaa Israa'el taatee jirtuu waan
kana hin beektuu? [11] Ani dhuguman, dhuguman sitti hima; nu waan beeknu
dubbanna; waan argines dhugaa ni baana; isin garuu dhugaa ba'umsa keenya hin
fudhattan. [12] Isin yoo ani waan addunyaa isinitti himnaan hin amanin, yoo ani waan
samii isinitti hime akkamitti amantu ree? [13] Ilma Namaa isa samii irraa gad bu'e
malee eenyu iyyuu samiitti ol hin baane. [14] Akkuma Museen gammoojjii keessatti
bofa fannise*sana Ilmi Namaas fannifamuu qaba. [15] Kunis akka namni isatti amanu
hundi jireenya bara baraa qabaatuuf."

[16] Kan isatti amanu hundi jireenya bara baraa akka qabaatuuf malee akka hin badneef, Waaqni hamma Ilma isaa tokkicha kennutti addunyaa jaallateeraatii.
[17] Waaqni karaa isaatiin addunyaa fayyisuudhaaf malee addunyaatti muruuf Ilma
isaa gara addunyaatti hin ergineetii. [18] Kan isatti amanutti hin muramu; kan isatti hin
amanne garuu waan inni maqaa Ilma Waaqaa tokkichaatti hin amaniniif ammuma
iyyuu itti murameera. [19] Murtiin sunis isa kana: Ifni gara addunyaa dhufe; namoonni
garuu waan hojiin isaanii hamaa tureef ifa caalaa dukkana jaallatan. [20] Namni waan
hamaa hojjetu kam iyyuu ifa jibba; akka hojiin isaa ifatti hin baafamneefis gara ifaa
hin dhufu. [21] Namni dhugaa hojjetu kam iyyuu garuu akka hojiin isaa akka fedhii Waaqaatti hojjetamuun isaa mul'atuuf gara ifaa dhufa.

*Yohannis Cuuphaan Waa'ee Yesuus Dhugaa Ba'e*

[22] Ergasiis Yesuusii fi barattoonni isaa gara biyya Yihuudaa dhaqan; innis isaan
wajjin achi ture; ni cuuphes. [23] Yohannisis naannoo Saalem iddoo Enoon jedhamutti
ni cuupha ture; bishaan baay'een achi tureetii; namoonnis achi dhaqanii cuuphamu
turan. [24] Kunis utuu Yohannis mana hidhaatti hin galfamin ta'e. [25] Yommus

* **3:14** 3:14 Lak 21:9

barattoota Yohannisii fi Yihuudii tokko gidduutti waa’ee qulqulleeffamuu irratti wal
falmiin uumame. 26 Isaanis Yohannis bira dhufanii, “Yaa barsiisaa, namichi si wajjin
Yordaanos gama ture, kan ati waa’ee isaa dhugaa baate sun kunoo cuuphuutti jira;
namni hundis gara isaa dhaquutti jira” jedhaniin.
27 Yohannisis akkana jedhee deebise; “Namni yoo samii irraa isaaf kenname malee
homaa fudhachuu hin danda’u. 28 Akka ani, ‘Ani Kiristoos† miti; garuu isa dura
nan ergame’ jedhe isin mataan keessan iyyuu dhugaa naa baatu. 29 Misirrittiin kan
misirrichaa ti. Miinjeen misirricha bira dhaabatuu fi isa dhaggeeffatu, yommuu
sagalee misirrichaa dhaga’utti akka malee gammada. Gammachuun sun kan koo
ti; gammachuun koos amma guutuu ta’eera. 30 Inni guddaa ta’uu qaba; ani immoo
xinnaa ta’uun qaba.
31 “Kan olii dhufu inni hundumaa oli; inni lafaa immoo kanuma lafaa ti; waanuma
lafaa dubbatas. Kan samii irraa dhufu inni hundumaa oli. 32 Inni waan argee fi waan
dhaga’e dhugaa ba’a; dhuga ba’umsa isaa garuu eenyu iyyuu hin fudhatu. 33 Namni
dhuga ba’umsa kana fudhates akka Waaqni dhugaa ta’e mirkaneesse. 34 Inni Waaqni
erge dubbii Waaqaa dubbata; Waaqnis safara malee Hafuura isaa ni kennaatii.
35 Abbaan Ilma ni jaallata; waan hundas harka isaatti kenneera. 36 Namni Ilmatti
amanu jireenya bara baraa qaba; namni Ilmaaf hin ajajamne garuu dheekkamsa
Waaqaatu isa irra jiraata malee jireenya hin argu.”

# 4

*Yesuusii fi Dubartii Samaariyaa Tokko*

1 Egaa Yesuus Yohannis caalaa barattoota akka baay’ifatee fi akka cuuphe Fariisonni
dhaga’uu isaanii Gooftaan ni beeke; 2 ta’us barattoota isaatu cuuphaa ture malee
Yesuus ofii isaatii hin cuuphine. 3 Inni Yihuudaa dhiisee amma illee Galiilaatti deebi’e.
4 Innis Samaariyaa keessa darbuu qaba ture. 5 Kanaafuu gara magaalaa Samaariyaa
kan Siikaar jedhamu tokkoo dhufe; magaalaan sunis lafa Yaaqoob ilma isaa Yoosefiif
kenne sanatti dhi’oo dha. 6 Boolli bishaanii kan Yaaqoob tokko achi ture; Yesuusis
waan karaa deemuudhaan dadhabeef boolla bishaanii sana bira taa’e. Yeroonis gara
sa’aatii ja’aa ture.
7 Dubartiin Samaariyaa tokkos bishaan waraabbachuu dhufte; Yesuusis, “Mee na
obaasi” jedheen. 8 Barattoonni isaa nyaata bituuf gara magaalaa dhaqanii turaniitii.
9 Dubartiin Samaariyaa sunis Yesuusiin, “Ati utuu Yihuudii taatee jirtuu akkamitti
‘na obaasi’ jettee ana dubartii Samaariyaa kadhatta?” jetteen. Yihuudoonni warra
Samaariyaa wajjin walitti dhufeenya hin qaban tureetii.
10 Yesuusis deebisee, “Kennaa Waaqaatii fi inni, ‘na obaasi’ siin jedhu kun eenyu
akka ta’e utuu beektee silaa situ isa kadhata ture; innis bishaan jireenyaa siif kenna
ture” jedheen.
11 Dubartittiinis akkana jetteen; “Yaa gooftaa, ati waan ittiin waraabbattu hin
qabdu; boolli bishaanii kunis gad fagoo dha. Yoos bishaan jireenyaa eessaa argatta?
12 Ati abbaa keenya Yaaqoob isa boolla bishaanii kana nuu kenne caalta moo? Inni
mataan isaa, ijoolleen isaatii fi horiin isaa boolla bishaanii kana keessaa dhugaa
turan.”
13 Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Namni bishaan kana dhugu hundinuu
deebi’ee ni dheebota; 14 garuu namni bishaan ani isaaf kennu dhugu kam iyyuu
gonkumaa hin dheebotu. Bishaan ani isaaf kennu isa keessatti burqaa bishaanii isa
jireenya bara baraatiif burqu ni ta’a.”
15 Dubartittiinis, “Yaa Gooftaa, akka ani hin dheebonneef, bishaan waraabuufis
akka ani as hin dhufneef bishaan sana naa kenni” jetteen.

† **3:28** 3:28 yookaan Masiihicha

16 Yesuus immoo, “Dhaqiitii dhirsa kee waamii kottu!” jedheen.
17 Dubartittiin, “Ani dhirsa hin qabu” jetteen.
Yesuusis akkana jedheen; “Dhirsa hin qabu jechuun kee sirrii dha; 18 ati dhirsoota
shan qabda turteetii; namichi amma si wajjin jirus dhirsa kee miti. Wanni ati amma
dubbate dhugaa dha.”
19 Dubartittiinis akkana jette; “Yaa Gooftaa, akka ati raajii taate nan hubadha.
20 Abbootiin keenya tulluu kana irratti sagadaa turan; isin Yihuudoonni garuu iddoon
namni itti waaqeffachuu qabu Yerusaalem jettu.”
21 Yesuusis akkana jedheen; “Dubartii nana, na amani; yeroon isin itti tulluu
kana irrattis ta’u yookaan Yerusaalemitti Abbaa hin waaqeffanne tokko ni dhufa.
22 Isin waan hin beekne waaqeffattu; nu sababii fayyinni Yihuudoota keessaa
dhufuuf kan beeknu waaqeffanna. 23 Warri dhugaan waaqeffatan yeroon isaan itti
hafuuraa fi dhugaadhaan Abbaa waaqeffatan tokko ni dhufa; amma iyyuu dhufeera;
Abbaan warra akkasitti isa waaqeffatan barbaada. 24 Waaqni hafuura; warri isa
waaqeffatanis Hafuuraa fi dhugaadhaan waaqeffachuu qabu.”
25 Dubartittiinis, “Ani akka Masiihiin Kiristoos jedhamu dhufu nan beeka. Inni
yommuu dhufutti waan hunda nutti hima” jetteen.
26 Yesuusis, “Ani, namni amma sitti dubbachaa jiru kun isuma” jedheen.

### *Barattoonni Gara Yesuusitti Deebi’uu Isaanii*

27 Barattoonni isaa yommusuma deebi’anii utuu inni dubartii tokko wajjin
dubbatuu arganii dinqisiifatan. Garuu namni, “Maal barbaadda?” yookaan “Maaliif
ishee wajjin haasofta?” jedhee isa gaafatu tokko iyyuu hin turre.
28 Dubartiin sunis okkotee ishee dhiiftee gara magaalaatti deebite; namootaanis
akkana jette; 29 “Kottaatii nama waan ani hojjedhe hunda natti hime tokko ilaalaa!
Tarii inni Kiristoos* ta’innaa?” 30 Isaanis magaalaa keessaa ba’anii Yesuus bira
dhufan.
31 Kana gidduutti barattoonni isaa, “Yaa barsiisaa, mee waa nyaadhu!” jedhanii isa
kadhatan.
32 Inni garuu, “Ani nyaata isin hin beekne kanan nyaadhu qaba” jedheen.
33 Barattoonni isaas, “Namatu nyaata fideefii laata?” jedhanii wal gaafatan.
34 Yesuus immoo akkana jedheen; “Nyaanni koo fedhii isa na ergee guutuu fi hojii
isaa raawwachuu dha. 35 Isin, ‘Ji’a afurtu hafe; ergasii midhaan walitti qabama’ jettu
mitii? Kunoo, ani isinittan hima; akka midhaan bilchaatee walitti qabamuu ga’e
mee ol jedhaatii lafa qotiisaa ilaalaa! 36 Inni midhaan haamu amma iyyuu mindaa
ni argata; jireenya bara baraatiif ija walitti ni qaba; kunis akka inni facaasuu fi
inni walitti qabu waliin gammadaniif. 37 Haala kanaan mammaaksi, ‘Inni tokko ni
facaasa; kaan immoo ni haama’ jedhu sun dhugaa dha. 38 Ani akka isin waan itti hin
dadhabin haammattaniifan isin erge. Warri kaan itti dadhabaniiru; isin garuu bu’aa
dadhabbii isaanii galfattu.”

### *Namoonni Samaariyaa Baay’een amanuu Isaanii*

39 Sababii dubartittiin, “Inni waan ani hojjedhe hunda natti hime” jettee dhugaa
baateef namoonni Samaariyaa warri magaalaa sanaa baay’een isatti amanan.
40 Kanaafuu namoonni Samaariyaa yommuu gara isaa dhufanitti akka inni isaan
wajjin turuuf isa kadhatan; innis guyyaa lama achi ture. 41 Sababii dubbii isaatiinis
namoonni biraa baay’een isatti amanan.
42 Isaanis dubartittiidhaan, “Si’achi wanni nu amannuuf sababii dubbii ati nutti
himte sanaatiif miti; nu mataan keenya iyyuu isa dhageenyeerraatii; akka inni
dhugumaan Fayyisaa addunyaa ta’es beekneerra” jedhan.

* **4:29** 4:29 yookaan Masiihichaa

### *Yesuus Ilma Qondaala Tokkoo Fayyisuu Isaa*

43 Guyyaa lamaan sana booddee Yesuus Galiilaa dhaqe. 44 Yesuus mataan isaa iyyuu
akka raajiin tokko biyya isaa keessatti kabaja hin qabne dubbatee tureetii. 45 Yommuu
inni Galiilaa ga'ettis warri Galiilaa isa simatan. Isaanis sababii Yerusaalem turaniif
waan inni yeroo Ayyaana Faasiikaatti achitti hojjete hunda arganii turan.
46 Kanaafuu inni deebi'ee gara Qaanaa ishee Galiilaa keessaa iddoo itti bishaan
gara daadhii wayiniitti geeddaree ture sanaa dhaqe. Qondaalli mootii kan ilmi isaa
dhukkubsate tokkos Qifirnaahom keessa ture. 47 Namichi kunis yommuu akka Yesuus
Yihuudaadhaa ka'ee Galiilaa dhufe dhaga'etti isa bira dhaqee akka inni dhufee ilma
isaa kan du'uu ga'e sana fayyisu isa kadhate.
48 Kana irratti Yesuus, "Isin yoo mallattoo fi dinqii argitan malee hin amantan!"
isaan jedhe.
49 Qondaaltichis, "Yaa Gooftaa, maaloo utuu mucaan koo hin du'in naa qaqqabi"
jedheen.
50 Yesuusis, "Ilmi kee ni jiraataatii gali!" jedheen.
Namichis waan Yesuus isatti dubbate amanee deeme. 51 Utuu inni deemaa jiruus
tajaajiltoonni isaa itti dhufanii akka ilmi isaa lubbuun jiru itti himan. 52 Innis yeroo
itti mucaa isaatti wayyaa'e gaafate; isaanis, "Kaleessa sa'aatii torbatti dhagna gubaan
isa dhiise" jedhaniin.
53 Abbaan mucichaas akka yeroon sun yeroo Yesuus itti, "Ilmi kee ni jiraata"
jedheen ta'e hubate. Kanaafuu innis, warri mana isaa hundinuus ni amanan.
54 Kun mallattoo lammaffaa Yesuus erga Yihuudaadhaa Galiilaa dhufee hojjetee
dha.

# 5

### *Yesuus Beetisayidaatti Dhukkubsataa Fayyisuu Isaa*

1 Yeroo xinnoo booddee ayyaana Yihuudootaa tokkotu ture; Yesuusis Yerusaalemitti
ol ba'e. 2 Yerusaalem keessa Karra Hoolaa bira haroo afaan Ibraayisxiitiin Beetizaataa
jedhamu tokkotu jira; haroon sun gardaafoo shan qaba. 3 Gardaafoowwan sana
keessas namoonni dhukkubsatan, jechuunis jaamonni, warri naafatanii fi warri
dhagni irratti du'e baay'een ciisanii raafama bishaanii eeggachaa turan. [ 4 Ergamaan
Gooftaa yeroo yerootti gad bu'ee bishaanicha ni raasa ture; raafama bishaanichaa
booddee namni jalqabatti bishaan sana keessa seenu kam iyyuu dhukkuba qabu
hunda irraa ni fayya ture.]* 5 Namichi waggaa soddomii saddeeti dhukkubsate tokko
achi ture. 6 Yesuusis yommuu isaa achi ciisu argee akka inni yeroo dheeraa haala
kana keessa ture beeketti, "Ati fayyuu barbaaddaa?" jedhee isa gaafate.
7 Dhukkubsataan sunis, "Yaa Gooftaa, ani nama na gargaaree yommuu bishaanichi
raafamutti haroo sana keessa na buusu hin qabu. Yeroo ani seenuu yaaluttis namni
biraa na dursee seena" jedheen.
8 Kana irratti Yesuus, "Ka'i! Siree kee fudhadhuutii deemi" jedheen. 9 Namichis
yeruma sana fayye; siree isaas fudhatee deeme.
Guyyaan wanni kun ta'e sunis Sanbata ture; 10 Yihuudoonnis namicha fayye
sanaan, "Har'a Sanbata; seerri siree kee baachuu si dhowwa" jedhaniin.
11 Inni garuu, "Namicha na fayyisetu 'Siree kee fudhadhuu deemi' naan jedhe"
jedheen.
12 Isaanis, "Namichi siree kee fudhadhuu deemi siin jedhe sun eenyu?" jedhanii
isa gaafatan.

---

* **5:4** 5:4 Waraabbileen durii tokko tokko kutaa walakkaa luqqisaa sadii irraa jalqabee hamma luqqisaa afuriitti jiru hin qaban.

13 Namichi fayye sun sababii Yesuus achi hiiqee tuuta iddoo sana ture keessa
seeneef inni eenyu akka ta'e hin beekne.
14 Yesuusis ergasii namicha sana mana qulqullummaa keessatti argee, "Ati kunoo
amma fayyiteerta. Wanni kana caalu akka sitti hin dhufneef si'achi cubbuu hin
hojjetin" jedheen. 15 Namichis dhaqee kan isa fayyise Yesuus akka ta'e Yihuudootatti
hime.

### *Jireenya Ilmi Kennu*

16 Kanaafuu sababii inni Sanbataan waan kana hojjeteef, Yihuudoonni Yesuusin
ari'achuu jalqaban. 17 Yesuus garuu, "Abbaan koo hamma ammaatti hojjechaa
jira; anis hojjechaan jira" isaaniin jedhe. 18 Sababii kanaaf Yihuudoonni ittuma
caalchisanii isa ajjeesuu barbaadan; inni Waaqaan of qixxeessuudhaan Waaqa iyyuu
Abbaa ofii isaa godhee waamaa ture malee Sanbata qofa hin cabsine.
19 Yesuus immoo akkana jedhee deebiseef; "Ani dhuguman, dhuguman isinitti
hima; Ilmi ofii isaatiin waan tokko illee hojjechuu hin danda'u; inni waanuma utuu
Abbaan isaa hojjetuu arge qofa hojjechuu danda'a; waanuma Abbaan hojjetu Ilmis
akkasuma hojjetaatii. 20 Abbaan Ilma ni jaallataatii; waan hojjetu hundumas isatti
ni argisiisa. Akka isin dinqisiifattaniifis inni hojiiwwan hojiiwwan kanneen caalan
iyyuu isatti ni argisiisa. 21 Akkuma Abbaan warra du'an du'aa kaasee jireenya
kennuuf sana, Ilmis akkasuma abbaa fedheef jireenya ni kenna. 22 Abbaan eenyutti
illee hin muru; murtii hunda garuu Ilmatti kenneera; 23 kunis akka namni hundi
akkuma Abbaaf ulfina kennutti Ilmaafis ulfina kennuuf. Namni Ilmaaf ulfina hin
kennine, Abbaa isa Ilma ergeefis ulfina hin kennu.
24 "Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; namni dubbii koo dhaga'u, isa na
ergettis kan amanu hundi jireenya bara baraa qaba; murtiittis hin dhi'aatu; inni du'a
jalaa gara jireenyaatti darbeera. 25 Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; yeroon
warri du'an itti sagalee Ilma Waaqaa dhaga'an tokko ni dhufa; ammuma iyyuu
dhufeera; warri dhaga'anis ni jiraatu. 26 Akkuma Abbaan ofuma isaatiin jireenya
qabu sana, Ilmis akkasuma akka ofuma isaatiin jireenya qabaatuuf isaaf kenneeraatii.
27 Sababii inni Ilma Namaa ta'eefis Abbaan akka inni murtii kennuuf taayitaa isaaf
kenneera.
28 "Kana hin dinqisiifatinaa; sa'aatiin itti warri awwaala keessa jiran hundi
sagalee isaa dhaga'an tokko ni dhufaatii. 29 Warri waan gaarii hojjetan du'aa ka'uu
jireenyaatiif, warri waan hamaa hojjetan immoo du'aa ka'uu murtiitiif du'aa ni ka'u.
30 Ani ofii kootiin waan tokko illee gochuu hin danda'u; ani akkuman dhaga'utti nan
murteessa; ani fedhii isa na ergee malee fedhii mataa kootii waan hin barbaanneef
murtiin koo qajeelaa dha.

### *Dhuga ba'umsa Waa'ee Yesuus*

31 "Ani yoon waa'ee ofii kootii dhugaa ba'e, dhuga ba'umsi koo dhugaa miti.
32 Garuu kan waa'ee koo dhugaa ba'u biraa jira; anis akka dhuga ba'umsi inni waa'ee
koo kennu sun dhugaa ta'e beeka.
33 "Isin Yohannisitti ergitaniirtu; innis dhugaa sanaaf, dhugaa ba'eera. 34 Ani dhuga
ba'umsa namaa hin fudhadhu; garuu akka isin fayyitaniif wantoota kanneen nan
dubbadha. 35 Yohannis ibsaa boba'ee ifa kennu ture; isinis yeroo xinnoo ifa isaatti
gammaduu barbaaddan.
36 "Ani garuu dhuga ba'umsa, dhuga ba'umsa Yohannis sana caalu qaba. Hojiin
akka ani raawwadhuuf Abbaan natti kenne, kan ani hojjedhu kun iyyuu akka
Abbaan na erge mirkaneessaatii. 37 Abbaan inni na erges ofii isaatii waa'ee koo
dhugaa ba'eera. Isin takkumaa sagalee isaa hin dhageenye; bifa isaas takkumaa
hin argine. 38 Isin sababii isa inni erge hin amaniniif dubbiin isaa isin keessa hin

jiraatu. 39 Isin Katabbiiwwan Qulqulluudhaan jireenya bara baraa arganna jettanii
waan yaaddaniif Katabbiiwwan Qulqulluu sana qorattu. Katabbiiwwan Qulqulluun
kunneenis waa'ee koo dhugaa ba'u; 40 isin garuu jireenya argachuudhaaf gara koo
dhufuu hin barbaaddan.
41 "Ani nama irraa ulfina hin fudhadhu; 42 garuu akka isin jaalala Waaqaa of
keessaa hin qabne nan beeka. 43 Ani maqaa Abbaa kootiin dhufeera; isin na hin
simattan; utuu namni biraa maqaa ofii isaatiin dhufee garuu isa ni simattu. 44 Isin yoo
wal irraa ulfina argattanii ulfina Waaqa tokkicha biraa dhufu garuu hin barbaanne
akkamitti amanuu dandeessu ree?
45 "Waan ani Abbaa duratti isin himadhu hin se'inaa. Kan isin himatu tokko jira;
innis Musee isin abdattan sana. 46 Utuu Musee amantanii silaa anas ni amantu ture;
inni waa'ee koo barreesseetii. 47 Isin erga waan inni barreesse hin amannee, dubbii
koo immoo akkamitti amantu ree?"

# 6

### *Yesuus Nama Kuma Shan Sooruu Isaa*
*6:1-13 kwf – Mat 14:13-21; Mar 6:32-44; Luq 9:10-17*

1 Wantoota kanneen booddee Yesuus Galaana Galiilaa isa Galaana Xibeeriyaas jed-
hamu gama ce'e; 2 namoonni baay'eenis sababii mallattoo inni warra dhukkubsatan
fayyisuudhaan hojjete arganiif isa duukaa bu'an. 3 Yesuusis barattoota isaa wajjin
gaaratti ol ba'ee taa'e. 4 Yeroo sana Ayyaanni Yihuudootaa, Faasiikaan dhi'aatee ture.
5 Yesuus yommuu ol ilaaletti tuuta guddaa gara isaa dhufaa jiru tokko arge;
Fiiliphoosiinis, "Namoota kanneeniif buddeena isaan nyaatan eessaa bitanna?"
jedhe. 6 Kanas Fiiliphoosin qoruudhaaf jedhee gaafate; inni mataan isaa waan gochuu
qabu beeka tureetii.
7 Fiiliphoos immoo, "Akka tokkoon tokkoon isaanii waanuma xinnoo illee argataniif
buddeena ga'u bituuf diinaarii* dhibba lama fudhata" jedhee deebiseef.
8 Barattoota isaa keessaa tokko Indiriiyaas, obboleessi Simoon Phexros akkana
jedheen; 9 "Gurbaan buddeena garbuu shanii fi qurxummii lama qabu tokko kunoo
ti; garuu nama akkana baay'atu kanaaf kun maali?"
10 Yesuusis, "Namoota teessisaa" jedhe. Iddoo sanas marga baay'eetu ture;
namoonnis ni tataa'an; dhiira gara kuma shantu achi ture. 11 Yesuusis ergasii
buddeena fuudhee, galata galchee warra tataa'aniif hamma isaan barbaadan
qoqqoode. Qurxummii sana illee akkasuma godhe.
12 Innis yommuu isaan hundi nyaatanii quufanitti barattoota isaatiin, "Hurraa'aa
hambifame walitti qabaa. Wanni tokko iyyuu hin badin" jedhe. 13 Kanaafuu isaan
hurraa'aa buddeena garbuu shananii kan namoonni nyaatanii hambisan walitti
qabanii gundoo kudha lama guutan.
14 Namoonnis yommuu mallattoo Yesuus hojjete arganitti, "Kun dhugumaanuu
Raajii gara addunyaa dhufuuf jiru" jedhan. 15 Yesuusis akka namoonni sun dhufanii
humnaan qabanii mootii isa gochuu yaadan hubatee ammas kophaa isaa gara tulluu
deeme.

### *Yesuus Bishaan Irra Deemuu Isaa*
*6:16-21 kwf – Mat 14:22-33; Mar 6:47-51*

16 Yommuu galgalaa'etti barattoonni isaa gara galaanaatti gad bu'an; 17 achittis
bidiruu yaabbatanii galaana irra gama Qifirnaahomitti qajeelan. Yeroon sun dukkana
ture; Yesuus amma iyyuu gara isaanii hin dhufne ture. 18 Bubbeen jabaan isaa
waan bubbisaa tureef bishaanichi ni raafame. 19 Isaanis erga gara kiiloo meetira
shanii yookaan ja'aa mooqanii booddee utuu Yesuus galaana irra deemaa, bidiruu

* **6:7** 6:7 Diinaariin tokko mindaa hojjetaan tokko guyyaatti argatu ture.

sanattis dhi'aachaa jiruu argan; ni sodaatanis. 20 Inni garuu, "Anumaatii hin
sodaatinaa" jedheen. 21 Isaanis bidiruutti ol isa fudhachuu barbaadan; bidiruun sunis
yommusuma lafa isaan dhaqaa turan sana ga'e.
22 Guyyaa itti aanutti namoonni galaanicha gamatti hafanii turan akka bidiruun
tokko qofti achi ture, akka Yesuus barattoota isaa wajjin bidiruu hin yaabbatinii
fi akka isaan kophaa isaanii deeman hubatan. 23 Bidiruuwwan biraa Xibeeriyaasii
ka'anii iddoo itti Gooftaan galata galchee isaanis itti buddeena nyaatan sana bira
ga'an. 24 Namoonni sunis yommuu akka Yesuusii fi barattoonni isaa achi hin jirre
baranitti bidiruuwwan yaabbatanii Yesuusin barbaaduuf Qifirnaahom dhaqan.

### *Yesuus Buddeena Jireenyaa*

25 Namoonni yommuu galaanicha gamatti isa arganitti, "Yaa Barsiisaa, ati yoom as
dhufte?" jedhanii isa gaafatan.
26 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; isin
waan mallattoo argitaniif utuu hin ta'in, waan buddeena nyaattanii quuftaniif na
barbaaddu. 27 Nyaata jireenya bara baraatiif ta'u kan Ilmi Namaa isinii kennuuf
dadhabaa malee nyaata baduuf hin dadhabinaa. Waaqni Abbaan chaappaa isaa kan
mirkaneessu Ilma irratti rukuteeraatii."
28 Isaanis, "Nu akka hojii Waaqaa hojjennuuf maal gochuu qabna?" jedhanii isa
gaafatan.
29 Yesuusis, "Isa inni ergetti amanuun keessan kun hojii Waaqaa ti" jedhee
deebiseef.
30 Kanaafuu isaan akkana jedhanii isa gaafatan; "Akka nu isa arginee si amannuuf,
mallattoo maalii argisiifta? Maal hojjettas? 31 'Akka isaan nyaataniif samii
irraa buddeena isaaniif kenne' jedhamee akkuma barreeffame, abbootiin keenya
gammoojjii keessatti mannaa nyaatan."†
32 Yesuusis akkana jedheen; "Ani dhuguman isinitti hima; kan samii irraa buddeena
isinii kenne Musee miti; kan samii irraa buddeena dhugaa isiniif kennu garuu Abbaa
koo ti. 33 Buddeenni Waaqaa isa samii irraa gad bu'ee addunyaaf jireenya kennu
sanaatii."
34 Isaanis, "Yaa Gooftaa, yeroo hunda buddeena kana nuu kenni" jedhaniin.
35 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "Buddeenni jireenyaa ana. Namni gara koo
dhufu gonkumaa hin beela'u; kan anatti amanus gonkumaa hin dheebotu. 36 Akkuma
ani isinitti hime isin na argitaniirtu; garuu amma iyyuu hin amantan. 37 Kan Abbaan
naa kennu hundi gara koo ni dhufa; anis kan gara koo dhufu gonkumaa alatti hin
ari'u. 38 Ani fedhii isa na erge sanaa guutuuf malee, fedhii koo guutachuuf samii irraa
gad hin buuneetii. 39 Fedhiin isa na ergees akka ani warra inni natti kenne hunda
guyyaa dhumaatti du'aa kaasuuf malee akka ani isaan keessaa tokko illee balleessuuf
miti. 40 Fedhiin Abbaa kootiis akka namni Ilma ilaalee isatti amanu hundi jireenya
bara baraa qabaatuuf; anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa."
41 Kana irratti Yihuudoonni sababii inni, "Ani buddeena samii irraa gad bu'ee dha"
jedheef isatti guungumuu jalqaban. 42 Isaanis, "Kun Yesuus ilma Yoosef, isa nu abbaa
fi haadha isaa beeknu sana mitii? Yoos inni akkamitti, 'Ani samii irraa gad bu'eera'
jedha ree?" jedhan.
43 Yesuus immoo akkana jedhee deebiseef; "Walitti hin guunguminaa. 44 Abbaan
na erge sun isa harkisuu baannaan namni kam iyyuu gara koo dhufuu hin danda'u;
anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa. 45 Raajota keessatti, 'Isaan hundi warra
Waaqa irraa baratan ni ta'u'‡jedhamee barreeffameera. Namni Abbaa irraa dhaga'ee
fi kan isa irraa barate hundi gara koo ni dhufa. 46 Isa Waaqa biraa dhufe sana malee

† **6:31** 6:31 Bau 16:4; Nah 9:15; Far 78:24,25 ‡ **6:45** 6:45 Isa 54:13

namni tokko iyyuu Abbaa hin argine; isa qofatu Abbaa arge. 47 Ani dhuguman isinitti
hima; kan amanu jireenya bara baraa qaba. 48 Buddeenni jireenyaa ana. 49 Abbootiin
keessan gammoojjii keessatti mannaa nyaatan; ta’us ni du’an. 50 Buddeenni samii
irraa gad bu’e garuu isa kana; namni isa nyaatu gonkumaa hin du’u. 51 Buddeenni
jiraataan samii irraa bu’e ana. Namni kam iyyuu yoo buddeena kana irraa nyaate
bara baraan ni jiraata. Buddeenni ani jireenya addunyaatiif kennus foon koo ti.”

52 Yihuudoonnis, “Namichi kun akkamitti akka nu nyaannuuf foon isaa nuu kennuu
danda’a?” jedhanii wal falman.

53 Yesuus immoo akkana jedheen; “Ani dhuguman isinitti hima; isin foon Ilma
Namaa nyaachuu baannaan, dhiiga isaas dhuguu baannaan ofii keessaniin jireenya
hin qabdan. 54 Namni foon koo nyaatuu fi dhiiga koo dhugu jireenya bara baraa
qaba. Anis guyyaa dhumaatti du’aa isa nan kaasa. 55 Foon koo nyaata dhugaatii;
dhiigni koos dhugaatii dhugaa ti. 56 Namni foon koo nyaatuu fi dhiiga koo dhugu
hundi na keessa jiraata; anis isa keessa nan jiraadha. 57 Akkuma Abbaan jiraataan
na ergee anis sababii Abbaatiin jiraadhu sana, namni na nyaatus sababii kootiin ni
jiraata. 58 Buddeenni samii irraa bu’e isa kana; innis kan akka mannaa Abbootiin
keessan nyaatanii du’an sanaa miti; namni buddeena kana nyaatu bara baraan ni
jiraata.” 59 Innis Qifirnaahomitti utuu mana sagadaa keessatti barsiisaa jiruu waan
kana dubbate.

### *Barattoonni Baay’een Yesuusin Dhiisanii Baqatan*

60 Barattoota isaa keessaa baay’een yommuu waan kana dhaga’anitti, “Barsiisni
kun cimaa dha; eenyutu fudhachuu danda’a?” jedhan.

61 Yesuusis akka barattoonni isaa waa’ee waan kanaa guunguman hubatee akkana
jedheen; “Kun isin gufachiisaa ree? 62 Yoos yoo utuu Ilmi Namaa iddoo dur turetti
ol ba’uu argitan akkam ta’inna ree? 63 Kan jireenya kennu Hafuura; foon faayidaa
hin qabu. Dubbiin ani isinitti dubbadhe Hafuura; jireenyas. 64 Isin keessas warri hin
amanne tokko tokko jiru.” Yesuus jalqabumaa kaasee isaan keessaa eenyu akka hin
amaninii fi eenyu akka dabarsee isa kennu ni beeka tureetii. 65 Innis ittuma fufee,
“Sababiin ani, ‘Yoo Abbaa biraa isaaf kenname malee namni kam iyyuu gara koo
dhufuu hin danda’u’ isiniin jedheefis kanuma” jedhe.

66 Yeroo kanaa jalqabee barattoota isaa keessaa baay’een duubatti deebi’an; ergasiis
isa wajjin hin deemne.

67 Yesuusis warra Kudha Lamaaniin, “Isinis deemuu barbaadduu?” jedhee gaafate.

68 Simoon Phexrosis akkana jedhee deebise; “Yaa Gooftaa, gara eenyuu deemna?
Ati dubbii jireenya bara baraa qabdaa. 69 Nu akka ati Qulqullicha Waaqaa taate
amanneerra; beekneerras.”

70 Yesuusis deebisee, “Anumatu Kudha Lamaan keessan filate mitii? Ta’us isin
keessaa inni tokko diiyaabiloosii dha!” jedhe. 71 Innis waa’ee Yihuudaa ilma
Simoon Keeriyotichaa dubbate; Yihuudaan warra Kudha Lamaan keessaa tokko ta’us
Yesuusin dabarsee kennuuf tureetii!

## 7

### *Yesuus Ayyaana Daasii Irratti Argamuu Isaa*

1 Kana booddee Yesuus Galiilaa keessa deddeebi’aa ture; sababii Yihuudoonni
isa ajjeesuu barbaadaniif inni Yihuudaa keessa hin deddeebine. 2 Ayyaanni Daasii
Yihuudootaa dhi’aatee ture. 3 Obboloonni isaas akkana jedhaniin; “Akka barattoonni
kee warri achii waan ati hojjettu arganiif ka’iitii Yihuudaa dhaqi. 4 Namni utuu ifaan
ifatti beekamuu barbaaduu dhoksaatti waa hojjetu hin jiruutii. Atis sababii waan

kana hojjettuuf addunyaatti of mul'isi." 5 Obboloonni isaa iyyuu isatti hin amanne
tureetii.
6 Yesuusis akkana jedheen; "Yeroon koo amma illee hin geenye; isiniif garuu yeroon
hundi mijaa'aa dha. 7 Addunyaan isin jibbuu hin danda'u; ana garuu akka hojiin isaa
hamaa ta'e waanan itti dhugaa ba'uuf na jibba. 8 Isin gara Ayyaana sanaa dhaqaa.
Ani garuu waan yeroon koo amma illee hin ga'iniif gara Ayyaanichaatti ol hin ba'u."
9 Inni waan kana isaanitti dubbatee Galiilaatti hafe.
10 Garuu erga obboloonni isaa gara Ayyaanichaatti ol ba'anii booddee innis utuu
ifaan ifatti hin ta'in dhoksaadhaan ol ba'e. 11 Yihuudoonnis Ayyaanicha irratti,
"Namichi sun eessa jira?" jedhanii gaafachaa isa barbaadaa turan.
12 Namoota gidduuttis waa'ee isaa guungummii guddaatu ture. Namoonni tokko
tokko, "Inni nama gaarii dha" jedhan.

Warri kaan immoo, "Akkas miti; inni nama dogoggorsa" jedhan. 13 Garuu waan
Yihuudoota sodaataniif namni tokko iyyuu ifaan ifatti waa'ee isaa hin dubbanne.

### *Yesuus Ayyaana Irratti Barsiisuu Isaa*

14 Gara walakkaa Ayyaanichaattis Yesuus mana qulqullummaa seenee barsiisuu
jalqabe. 15 Yihuudoonnis dinqifatanii, "Namichi kun akkamitti utuu hin baratin
beekumsa akkanaa qabaate?" jedhan.
16 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Barsiisni koo kan isa na ergeeti malee kan koo
miti. 17 Namni fedhii Waaqaa gochuu barbaadu kam iyyuu barsiisni koo Waaqa biraa
dhufuu fi dhufuu baachuu isaa yookaan ani ofuma kootiin dubbachuu fi dubbachuu
baachuu koo ni beeka. 18 Namni ofuma isaatiin dubbatu inni ofuma isaatii ulfina
argachuu barbaada; namni ulfina kan isa erge sanaa barbaadu garuu inni nama
dhugaa ti; jal'innis isa keessa hin jiru. 19 Museen seera isinii kenneera mitii? Isin
keessaa garuu namni tokko iyyuu seera sana hin eegu. Isin maaliif na ajjeesuu
barbaaddu?"
20 Jarris deebisanii, "Hafuura hamaatu si keessa jira; eenyutu si ajjeesuu bar-
baada?" jedhaniin.
21 Yesuusis deebisee akkana jedheen; "Ani hojii tokko hojjennaan hundi keessan
dinqifattan. 22 Museen seera dhagna qabaa isinii kenne; dhagna qabaa garuu
abbootiitu jalqabe malee Musee miti; isinis Sanbataan nama dhagna qabdu. 23 Akka
seerri Musee hin cabneef erga namni tokko Sanbataan dhagna qabachuu danda'ee,
isin maaliif sababii ani Sanbataan dhagna namaa guutuu fayyiseef natti aartu?
24 Murtii qajeelaa kennaa malee, bifa qofa ilaaltanii hin murteessinaa."

### *Yesuus Kun inni Kiristoosii dha?*

25 Kana irratti namoota Yerusaalem keessaa tokko tokko akkana jedhan; "Inni kun
namicha isaan ajjeesuuf barbaadan sana mitii? 26 Kunoo inni ifatti ba'ee dubbata;
isaanis homaa isaan hin jenne. Abbootiin taayitaa akka inni Kiristoos* ta'e sirriitti
beekaniiruu laata? 27 Ta'us namichi kun nama eessaa akka ta'e nu beekna. Kiristoos
yommuu dhufutti garuu inni eessaa akka dhufu namni tokko iyyuu hin beeku."
28 Yesuus utuu mana qulqullummaa keessatti barsiisuu sagalee isaa ol fudhatee
akkana jedhe; "Isin na beektu; akka ani eessaa dhufe illee beektu. Ani ofii kootiin
hin dhufne; inni na erge sun dhuga qabeessa. Isin garuu isa hin beektan; 29 ani garuu
sababiin isa biraa dhufee fi sababii inni na ergeef isa nan beeka."
30 Kana irratti isaan isa qabuu yaalan; garuu waan sa'aatiin isaa hin ga'iniif namni
tokko iyyuu harkaan isa hin tuqne. 31 Ta'us namoonni baay'een isatti amanan.
Isaanis, "Kiristoos yommuu dhufutti namicha kana caalaa mallattoo hojjetaa?"
jedhan.

---

* **7:26** 7:26 yookaan Masiihii

32 Fariisonnis utuu namoonni waa’ee isaa waan akkanaa guungumanuu dhaga’an.
Luboonni hangafoonnii fi Fariisonni Yesuusin qabsiisuudhaaf eegdota mana qulqul-
lummaa ergan.

33 Yesuusis akkana jedheen; “Ani yeroo gabaabaa isin wajjin jira; ergasii gara isa
na erge sanaa nan dhaqa. 34 Isin na barbaaddu; garuu na hin argattan; iddoo ani
jirus dhufuu hin dandeessan.”

35 Yihuudoonnis akkana waliin jedhan; “Namichi kun akka nu isa hin argineef eessa
dhaquu yaade laata? Gara saba keenya warra Giriikota keessa faffaca’anii dhaqee
Giriikota barsiisaa? 36 ‘Isin na barbaaddu; garuu na hin argattan; iddoo ani jirus
dhufuu hin dandeessan’ jechuun isaas maal jechuu isaatii?”

37 Guyyaa Ayyaanichi itti hobba’u, guyyaa guddaa sana, Yesuus ka’ee dhaabatee
sagalee guddaadhaan akkana jedhe; “Eenyu iyyuu yoo dheebote, gara koo dhufee
haa dhugu. 38 Akkuma Katabbiin Qulqulluun jedhe nama natti amanu kam iyyuu laga
bishaan jireenyaatu garaa isaa keessaa burqa.” 39 Kunis waa’ee Hafuura Qulqulluu
warri isatti amanan argachuuf jiranii dubbachuu isaa ti. Sababii Yesuus amma
illee ulfina hin argatiniif Hafuuri Qulqulluun hamma yeroo sanaatti hin kennamne
tureetii.

40 Namoota sana keessaa tokko tokko yommuu dubbii kana dhaga’anitti, “Kun
dhugumaanuu Raajicha” jedhan.

41 Warri kaan immoo, “Inni Kiristoosii dha” jedhan.

Namoonni kaanis akkana jedhan; “Kiristoos Galiilaadhaa dhufaa? 42 Akka Kiristoos
sanyii Daawit keessaa dhalatuu fi akka inni Beetlihemii, ganda Daawitii dhufu
Katabbiin Qulqulluun ni dubbata mitii?” 43 Akkasiin waa’ee Yesuus irratti garaa
garummaan waldaa gidduutti uumame. 44 Isaan keessaas tokko tokko isa qabuu
barbaadan; garuu namni tokko iyyuu harkaan isa hin tuqne.

### *Amantii Dhabuu Dura Bu’oota Yihuudootaa*

45 Eegdonni sun gara luboota hangafootaatii fi gara Fariisotaatti deebi’an; isaanis,
“Isin maaliif isa hin fidin?” jedhanii eegdota sana gaafatan.

46 Eegdonnis, “Takkumaa namni akka namicha kanaatti hin dubbanne” jedhanii
deebisan.

47 Fariisonnis deebisanii akkana jedhan, “Isinis gowwoomfamtaniirtuu?
48 Bulchitoota keessaa yookaan Fariisota keessaa namni tokko iyyuu isatti amaneeraa?
49 Sabni seera hin beekne kun garuu abaaramaa dha.”

50 Niqoodemoos inni duraan Yesuus bira dhaqee fi isaan keessaas tokko ta’e sun
akkana isaaniin jedhe; 51 “Seerri keenya utuu isa irraa hin dhaga’in, waan inni
hojjetes utuu hin beekin nama tokkotti ni muraa?”

52 Isaanis, “Atis nama Galiilaatii? Akka raajiin Galiilaadhaa hin kaane qoradhuu
bira ga’i” jedhaniin.

[ 53 Ergasii isaan hundinuu gara mana isaaniitti galan.

# 8

### *Dubartii Ejja Irratti Qabamte*

1 Yesuus garuu gara Tulluu Ejersaa dhaqe.

2 Ganama bariis deebi’ee mana qulqullummaa dhufe; innis namni hundumtuu isa
biratti walitti qabamnaan taa’ee isaan barsiise. 3 Barsiistonni seeraatii fi Fariisonni
dubartii ejja irratti qabamte tokko isatti fidan. Gidduu isaaniis dhaabachiisanii,
4 Yesuusiin akkana jedhan; “Yaa barsiisaa, dubartiin kun utuu ejja hojjettuu qabamte.
5 Museen Seera keessatti akka warri akkanaa dhagaadhaan tumaman nu ajajeera.

Ati immoo maal jetta?” 6 Isaanis waan ittiin isa himatan argachuuf jedhanii isa
qoruudhaaf waan kana gaafatan.

Yesuus garuu gad jedhee quba isaatiin lafa irratti barreessuu jalqabe. 7 Isaanis
ittuma fufanii isa gaafannaan ol jedhee, “Isin keessaa namni cubbuu hin qabne
dursee isheetti dhagaa haa darbatu” jedheen. 8 Ammas gad jedhee lafa irratti
barreesse.

9 Isaanis yommuu kana dhaga’anitti maanguddootaa jalqabanii tokko tokkoon
ba’anii sokkan; Yesuus immoo dubartittii achuma dhaabattee jirtu wajjin kophaa
hafe. 10 Yesuusis ol jedhee, “Dubartii nana, warri si himatan meerre? Namni tokko
iyyuu sitti hin murree?” jedheen.

11 Isheenis, “Yaa Gooftaa, namni tokko iyyuu natti hin murre” jetteen.

Yesuusis, “Anis sitti hin muruu deemi; garuu si’achi cubbuu hin hojjetin” jedheen.]*

### *Yesuus ifa addunyaa ti*

12 Yesuus ammas, “Ani ifa addunyaa ti. Namni na duukaa bu’u kam iyyuu ifa
jireenyaa qabaata malee dukkana keessa hin deddeebi’u” jedhee isaanitti dubbate.

13 Fariisonnis, “Ati waa’ee mataa keetii dhugaa baata; dhuga ba’umsi kee immoo
dhugaa miti” jedhaniin.

14 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Ani yoon ofii kootiif dhugaa ba’e illee ani akkan
eessaa dhufee fi akkan garam deemu waanan beekuuf dhuga ba’umsi koo dhugaa
dha. Isin garuu akka ani eessaa dhufe yookaan akka ani garam deemu hin beektan.
15 Isin akka yaada fooniitti murteessitu; ani nama tokkotti illee hin muru. 16 Garuu
ani yoon mure illee murtiin koo dhugaa dha; kan murus na qofa miti. Ani Abbaa
na erge sana wajjinan jiraatii. 17 Dhuga ba’umsi nama lamaa akka dhugaa ta’e Seera
keessan keessatti barreeffameera. 18 Ani ofii kootiif dhugaa nan ba’a; Abbaan na
erges waa’ee koo dhugaa ba’a.”

19 Isaanis, “Abbaan kee eessa jira?” jedhanii isa gaafatan.

Yesuus immoo deebisee, “Isin anas, Abbaa koos hin beektan; utuu na beektanii silaa
Abbaa koos ni beektu turtan” jedhe. 20 Yesuus utuu mana qulqullummaa keessatti,
kutaa buusiin itti kuufamu keessatti barsiisaa jiruu dubbii kana dubbate. Garuu
waan sa’aatiin isaa hin ga’iniif namni tokko iyyuu isa hin qabne.

21 Yesuus amma illee, “Ani nan deema; isin na barbaaddu; cubbuu keessaniinis ni
duutu. Isin iddoo ani dhaqu dhufuu hin dandeessan” isaaniin jedhe.

22 Yihuudoonnis, “ ‘Isin iddoo ani dhaqu dhufuu hin dandeessan’ jechuun isaa of
ajjeesuufii laata?” jedhan.

23 Innis ittuma fufee akkana jedhe; “Isin kan gadii ti; ani kan olii ti. Isin kan
addunyaa kanaa ti; ani immoo kan addunyaa kanaa miti. 24 Akka isin cubbuu
keessaniin duutan ani isinitti himeera; isin yoo akka ani isa ta’e amanuu baattan,
cubbuu keessaniin ni duutu.”

25 Isaanis, “Ati eenyu?” jedhanii isa gaafatan.

Yesuus immoo akkana jedhee deebise; “Ani isuma jalqabaa kaasee isinitti dub-
bachaa turee dha. 26 Ani waa’ee keessan waanan jedhuu fi waanan murteessu
baay’een qaba. Garuu inni na erge dhugaa qabeessa; anis waanan isa irraa dhaga’e
addunyaatti nan hima.”

27 Isaan garuu akka inni waa’ee Abbaa isaa isaanitti himaa ture hin hubanne.
28 Kanaafuu Yesuus akkana isaaniin jedhe; “Yommuu Ilma Namaa ol fuutanitti akka
ani isa ta’e, waanuma Abbaan na barsiisen dubbadha malee akka ani ofii kootiin
homaa hin hojjennees ni beektu. 29 Inni na erge na wajjin jira; sababii ani yeroo

* **8:11** 8:11 Waraabbileen durii hedduun kutaa (Yoh 7:53–8:11) hin qaban yookaan iddoo biraa yookaan immoo wangeelota biraa keessa seensisan.

hunda waan isa gammachiisu hojjedhuuf, inni kophaa koo na hin dhiifne.” 30 Utuma
inni dubbatuus, namoonni baay’een isatti amanan.

*Ijoollee Abrahaam*

31 Yesuus Yihuudoota isatti amananiin akkana jedhe; “Yoo dubbii kootti cichitanii
jiraattan isin dhuguma barattoota koo ti. 32 Dhugaas ni beektu; dhugaanis bilisa isin
baasa.”
33 Isaanis, “Nu sanyii Abrahaam; nu eenyumaafuu takkumaa hin garboomne. Yoos
ati akkamitti bilisa baatu nuun jetta ree?” jedhaniin.
34 Yesuusis deebisee akkana jedhe; “Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; namni
cubbuu hojjetu hundi garbicha cubbuu ti. 35 Garbichi bara baraan mana hin jiraatu;
ilmi garuu bara baraan ni jiraata. 36 Kanaafuu yoo Ilmi bilisa isin baase, isin
dhugumaan bilisa ni baatu. 37 Isin sanyii Abrahaam ta’uu keessan anuu beeka. Garuu
sababii dubbiin koo isin keessatti iddoo hin qabneef na ajjeesuu barbaaddu. 38 Ani
waanan Abbaa koo biratti argen dubbadha; isinis waanuma abbaa keessan irraa
dhageessan hojjettu.”
39 Isaanis, “Abbaan keenya Abrahaam” jedhan.
Yesuus immoo akkana jedhe; “Isin utuu ijoollee Abrahaam taatanii silaa hojii
Abrahaam hojjete ni hojjettu turtan. 40 Isin garuu ana nama dhugaa Waaqa irraa
dhaga’e isinitti hime ajjeesuu barbaaddu. Abrahaam waan akkasii hin hojjenne.
41 Isin waan abbaan keessan hojjete hojjettu.”
Isaanis, “Nu ejjaan hin dhalanne. Abbaa tokkicha qabna; innis Waaqa” jedhaniin.

*Ijoollee Diiyaabiloos*

42 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; “Isin utuu Waaqni abbaa keessan ta’ee silaa
na jaallattu turtan; ani Waaqa biraa ba’een dhufeetii. Isatu na erge malee ani ofii
kootiin hin dhufne. 43 Wanni ani dubbadhu maaliif isinii hin galu? Sababiin isaas
waan isin waan ani jedhu fudhachuu hin feeneef. 44 Isin ijoollee abbaa keessanii
ijoollee diiyaabiloos; fedhiin keessanis hawwii abbaa keessanii raawwachuu dha.
Inni jalqabumaa kaasee nama ajjeesaa ture; waan dhugaan isa keessa hin jirreef
inni dhugaadhaan hin jiraatu. Inni sobduu fi abbaa sobaa waan ta’eef yommuu
soba dubbatutti ofuma keessaa fuudhee dubbata. 45 Isin garuu waan ani dhugaa
dubbadhuuf na hin amantan! 46 Isin keessaa namni cubbuudhaan na himatu eenyu?
Erga ani dhugaa dubbadhee, isin maaliif na hin amanne? 47 Namni kan Waaqaa
ta’e kam iyyuu dubbii Waaqaa ni dhaga’a. Isin waan kan Waaqaa hin ta’iniif hin
dhageessan.”

*Yesuus Waa’ee Ofii Isaa Dubbate*

48 Yihuudoonnis deebisanii, “Ati nama Samaariyaa ti; hafuura hamaatu si keessa
jira jechuun keenya dhugaa mitii?” jedhaniin.
49 Yesuus immoo akkana jedhe; “Hafuurri hamaan na keessa hin jiru; ani Abbaa koo
nan kabaja; isin garuu na hin kabajjan. 50 Ani ulfina mataa koo hin barbaadu; garuu
kan isa barbaadu tokkotu jira; innis Abbaa murtii ti. 51 Ani dhuguman, dhuguman
isinitti hima; eenyu iyyuu yoo dubbii koo eege bara baraan du’a hin argu.”
52 Yihuudoonnis akkana jedhaniin; “Akka hafuurri hamaan si keessa jiru nu amma
barreerra. Abrahaam du’eera; raajonnis du’aniiru; ati garuu, ‘Eenyu iyyuu yoo
dubbii koo eege bara baraan du’a hin dhandhamu’ jetta. 53 Ati abbaa keenya
Abrahaam caaltaa? Inni du’eera; raajonnis du’aniiru. Egaa ati eenyu ofiin jetta ree?”
54 Yesuus akkana jedhee deebise; “Ani yoon ofii kootiif ulfina kenne, ulfinni koo
gatii hin qabu. Kan ulfina naa kennu Abbaa koo isuma isin Waaqa keenya jettaniin
sanaa dha. 55 Yoo isin isa beekuu baattan illee ani isa beeka. Ani utuu isa hin beeku
jedhee silaa akkuma keessan sobduu nan ta’a ture. Ani garuu isa beeka; dubbii isaa

illee nan eega. 56 Abbaan keessan Abrahaam guyyaa koo arguuf gammadee ture;
innis ni arge; ni gammades.”
57 Yihuudoonnis, “Umuriin kee waggaa shantama iyyuu hin guunne; yoos Abra-
haamin argiteertaa?” jedhaniin.
58 Yesuusis, “Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; utuu Abrahaam hin dhalatin
iyyuu ani anuma” isaaniin jedhe. 59 Kana irratti isaan isa dha’uuf jedhanii dhagaa
guurratan; Yesuus garuu dhokatee mana qulqullummaatii ba’ee deeme.

# 9

### *Yesuus Namicha Jaamaa Tokko Fayyisuu Isaa*

1 Yesuus utuu darbuu namicha dhalootuma isaatii jalqabee jaamaa ture tokko arge.
2 Barattoonni isaas, “Yaa barsiisaa, akka namichi kun jaamaa ta’ee dhalatuuf eenyutu
cubbuu hojjete? Isuma moo abbaa fi haadha isaa ti?” jedhanii isa gaafatan.
3 Yesuusis akkana jedhee deebise; “Akka hojiin Waaqaa isaan mul’atuuf malee inni
yookaan abbaa fi haati isaa cubbuu hojjetanii miti. 4 Utuu guyyaa ta’ee jiruu hojii isa
na ergee hojjechuun qabna. Halkan namni tokko iyyuu itti hojjechuu hin dandeenye
ni dhufa. 5 Ani yommuun addunyaa irra jiru, ifa addunyaa ti.”
6 Innis erga waan kana dubbatee booddee lafatti tufee dhoqqee tolche; dhoqqee
sanas ija namichaatti dibe. 7 Innis namicha sanaan, “Dhaqiitii Haroo Saliihoomitti
dhiqadhu” jedhe. Saliihoom jechuun kan ergame jechuu dha. Namichis dhaqee
dhiqate; argaas deebi’ee dhufe.
8 Olloonni isaatii fi namoonni duraan utuu inni kadhatuu argan, “Namichi kun
isuma taa’ee kadhachaa ture sana mitii?” jedhan. 9 Namoonni tokko tokko, “Eeyyee,
isa” jedhan.
Kaan immoo, “Miti, isa fakkaata malee” jedhan.
Inni garuu, “Namichi sun anuma” jedhe.
10 Jarris, “Iji kee akkamitti baname ree?” jedhaniin.
11 Innis deebisee, “Namicha Yesuus jedhamutu dhoqqee tolchee ija koo dibee, ‘Gara
Haroo Saliihoom dhaqiitii dhiqadhu’ naan jedhe; anis dhaqeen dhiqadhe; arguus nan
danda’e.”
12 Isaanis, “Namichi sun eessa jira?” jedhanii isa gaafatan.
Inni immoo, “Ani hin beeku” jedheen.

### *Fariisonni Waa’ee Fayyuu Namichaa Qorachuu Isaanii*

13 Isaanis namicha jaamaa ture sana Fariisotatti geessan. 14 Guyyaan itti Yesuus
dhoqqee tolchee ija namichaa bane Sanbata ture. 15 Fariisonnis namichi akkamitti
akka arguu danda’e isa gaafatan; namichis, “Inni dhoqqee tolchee ija koo dibe; anis
nan dhiqadhe; nan arges” jedheen.
16 Fariisota keessaas tokko tokko, “Namichi kun waan Sanbata hin eegneef, inni
Waaqa biraa hin dhufne” jedhan.
Warri kaan garuu, “Cubbamaan tokko akkamitti dinqii akkanaa hojjechuu
danda’a?” jedhan. Garaa garummaanis isaan gidduutti uumame.
17 Isaanis amma illee namicha jaamaa ture sanaan, “Waa’ee namicha ija kee siif
bane sanaa maal jetta?” jedhan.
Namichis deebisee, “Inni raajii dha” jedhe.
18 Yihuudoonnis hamma abbaa fi haadha namicha agartuu isaa argate sanaa
waamanitti akka inni jaamaa turee fi akka inni agartuu isaa argate amma illee hin
amanne. 19 Isaanis, “Inni kun ilma keessan isuma isin jaamaa ta’ee dhalate jettan
sanaa? Yoos amma immoo akkamitti arguu danda’a ree?” jedhanii gaafatan.

[20] Abbaa fi haati namichaas deebisanii akkana jedhan; “Akka inni ilma keenya
ta’ee fi akka inni jaamaa ta’ee dhalate ni beekna. [21] Garuu amma akkamitti akka
arguu danda’e yookaan ija isaa eenyu akka baneef nu hin beeknu. Inni nama ga’aa
dha; waa’ee mataa isaa dubbachuu ni danda’a; isuma gaafadhaa.” [22] Abbaa fi haati
isaa sababii Yihuudoota sodaataniif waan kana jedhan; namni kam iyyuu yoo Yesuus
inni Kiristoos[*] jedhee dhugaa ba’e akka mana sagadaa keessaa ari’amu Yihuudoonni
kanaan dura walii galanii murteessanii turaniitii. [23] Kanaafuu abbaa fi haati isaa,
“Inni nama ga’aa dha; isuma gaafadhaa” jedhan.
[24] Isaanis yeroo lammaffaa namicha jaamaa ture sana waamanii, “Waaqaaf ulfina
kenni. Namichi kun cubbamaa ta’uu isaa nu ni beekna” jedhaniin.
[25] Innis, “Cubbamaa ta’uu fi ta’uu baachuu isaa ani hin beeku. Ani waan tokkon
beeka. Ani jaamaan ture; amma garuu nan arga!” jedhee deebise.
[26] Isaanis, “Inni maal siif godhe? Ija kees akkamitti siif bane?” jedhanii isa gaafatan.
[27] Inni immoo, “Ani kanaan dura isinitti himeera; isinis hin dhageenye. Ammas
maaliif dhaga’uu barbaaddu? Isinis barattoota isaa ta’uu barbaadduu?” jedheen.
[28] Isaanis akkana jedhanii isa arrabsan; “Barataan namicha kanaa si’i! Nu
barattoota Musee ti! [29] Akka Waaqni Museetti dubbate nu beekna; namichi kun garuu
eessaa akka dhufe iyyuu hin beeknu.”
[30] Namichis deebisee akkana jedhe; “Inni eessaa akka dhufe wallaaluun keessan
waan nama dinquu dha; garuu inni ija koo naa bane. [31] Akka Waaqni cubbamoota
hin dhageenye ni beekna. Inni nama isa waaqeffatuu fi fedhii isaa guutu dhaga’a.
[32] Eenyu iyyuu ija nama jaamaa ta’ee dhalate tokkoo akka bane uumama addunyaatii
jalqabee hin dhaga’amne. [33] Namichi kun utuu Waaqa biraa ta’uu baatee silaa homaa
gochuu hin danda’u ture.”
[34] Isaanis deebisanii, “Ati kan guutummaatti cubbuun dhalatte, situ nu barsiisaa?”
jedhaniin. Alattis gad isa baasan.

### *Jaamummaa Hafuuraa*

[35] Yesuusis akka isaan gad isa baasan dhaga’e; yommuu isa argettis, “Ati Ilma
Namaatti ni amantaa?” jedheen.
[36] Namichis, “Yaa gooftaa, akka ani isatti amanuuf inni eenyu?” jedhe.
[37] Yesuusis, “Ati amma isa argiteerta; inni si wajjin haasa’aa jiru isuma” jedheen.
[38] Namichi sunis, “Yaa Gooftaa, ani nan amana” jedhe; ni sagadeefis.
[39] Yesuus immoo, “Warri hin argine akka arganiif, warri argan immoo akka
jaamaniif ani murtiif gara addunyaa kanaa dhufeera” jedhe.
[40] Fariisota isa wajjin turan keessaa tokko tokko waan kana jechuu isaa dhaga’anii,
“Nus jaamota mitii ree?” jedhanii gaafatan.
[41] Yesuusis, “Utuu jaamota taatanii silaa cubbuu hin qabdan ture; isin garuu, ‘Ni
argina’ jettu; cubbuun keessan ni jiraata” jedheen.

## 10

### *Tiksee Gaarii fi Hoolota Isaa*

[1] “Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; namni balbalaan gola hoolotaa hin
seennee, garuu karaa biraatiin koree seenu inni hattuu fi saamtuu dha. [2] Namni
balbalaan seenu immoo tiksee hoolotaa ti. [3] Eegduunis balbala isaaf bana; hoolonnis
sagalee isaa ni dhaga’u. Innis hoolota isaa maqaa maqaan waamee gad yaasa. [4] Erga
warra kan isaa ta’an hunda gad yaasee booddee isaan dura deema; hoolonni isaas
waan sagalee isaa beekaniif isa faana bu’u. [5] Orma garuu ni baqatu malee faana hin

* **9:22** 9:22 yookaan Masiihicha

bu'an; sagalee ormaa hin beekaniitii." 6 Yesuus fakkeenya kana isaanitti hime; isaan
garuu akka inni maal isaanitti himaa ture hin hubanne.

7 Kanaafuu Yesuus ammas akkana jedheen; "Dhuguman, dhuguman isinitti hima;
ani balbala hoolotaa ti. 8 Warri na dura dhufan hundi hattootaa fi saamtota; hoolonni
garuu isaan hin dhageenye. 9 Balballi ana; namni karaa kootiin ol seenu kam iyyuu
ni fayya. Inni ni seena; ni ba'as; lafa dheedaas ni argata. 10 Hattichi hatuuf, ajjeesuu
fi balleessuu qofaaf dhufa; ani garuu akka isaan jireenya qabaataniif, jireenya irraa
hafaas akka qabaataniif dhufeera.

11 "Tikseen gaariin ana. Tikseen gaariin hoolota isaatiif jedhee lubbuu isaa
dabarsee kenna. 12 Namni qacaramaan kan tiksee hin ta'in garuu waan hoolonni kan
isaa hin ta'iniif yommuu dhufaatii yeeyyii argutti hoolota dhiisee baqata. Yeeyyiinis
bushaayee ni butata; ni bittinneessas. 13 Namichi waan qacaramaa ta'eef ni baqata;
dhimma hoolotaas hin qabu.

14 "Tikseen gaariin ana; ani hoolota koo beeka; hoolonni koos na beeku; 15 kunis
akkuma Abbaan na beekuttii fi akkuma ani Abbaa beekutti. Anis lubbuu koo
hoolotaaf nan kenna. 16 Ani warra gola kanatti galan malees hoolota gara biraan
qaba. Isaanis fiduun qaba. Isaanis sagalee koo ni dhaga'u; karra tokkos ni ta'u;
tikseen isaaniis tokko ta'a. 17 Kanaafuu Abbaan waan ani deebisee fudhachuuf
lubbuu koo dabarsee kennuuf na jaallata. 18 Lubbuu koo anumatu ofii kootiin
dabarsee kenna malee eenyu iyyuu narraa hin fudhatu. Ani lubbuu koo dabarsee
kennuuf taayitaan qaba; deebisee fudhachuufis taayitaan qaba. Ajaja kanas Abbaa
koo biraa fudhadheera."

19 Amma illee sababii dubbii kanaatiif Yihuudoota gidduutti garaa garummaan
uumame. 20 Baay'een isaaniis, "Hafuura hamaatu isa keessa jira; inni maraateera.
Isin maaliif isa dhageessu?" jedhan.

21 Warri kaan immoo, "Kun jecha nama hafuura hamaadhaan qabame miti.
Hafuurri hamaan ija nama jaamaa banuu ni danda'aa?" jedhan.

### *Amantii Dhabuu Yihuudootaa*

22 Yeroo sana Ayyaanni mana qulqullummaa haaromsuu* Yerusaalemitti ayyaan-
effamee ture. Yeroon sunis ganna ture; 23 Yesuusis mana qulqullummaa keessa
gardaafoo Solomoon keessa deddeebi'aa ture. 24 Yihuudoonnis isa marsanii, "Hamma
yoomiitti qalbii nu rarraaftaa? Ati yoo Kiristoos† taate ifatti baasii nutti himi"
jedhaniin.

25 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Ani isinitti himeera; isin garuu hin amantan.
Hojiin ani maqaa Abbaa kootiitiin hojjedhu waa'ee koo dhugaa ba'a. 26 Isin garuu
waan hoolota koo hin ta'iniif hin amantan. 27 Hoolonni koo sagalee koo ni dhaga'u;
anis isaan beeka; isaanis na faana bu'u. 28 Anis jireenya bara baraa nan kennaaf;
isaanis gonkumaa hin badan. Eenyu iyyuu harka koo keessaa isaan hin butatu.
29 Abbaan koo kan natti isaan kenne sun hunduma caala; namni tokko iyyuu harka
Abbaa kootii keessaa isaan butachuu hin danda'u. 30 Anii fi Abbaan tokkuma."

31 Yihuudoonni isa dha'uuf jedhanii ammas dhagaa guurratan. 32 Yesuusis, "Ani
hojii Abbaa kootii gaarii baay'ee isinitti argisiiseera. Hojii kana keessaa isin sababii
isa kamiitiif dhagaadhaan na dhooftu?" jedheen.

---

* **10:22** 10:22 Ayyaanni mana qulqullummaa haaromsuu Hanukkaajedhamee beekama – Ji'i Hanukkaa Sadaasaa wajjin tokkuma. Ayyaanni kunis guyyaa itti Yihuudaa Maqaabiis (dhaloota Kiristoos dura bara 164 keessa) mana qulqullummaa kan namoonni Sooriyaa waggaa sadii xureessan sana haaromse yaadachuuf godhame. Ayyaanichis guyyaa digdamii shanaffaa ji'a sanaa irraa jalqabee hamma guyyaa saddeetiitti ayyaaneffama ture. Yeroon kun Yihuudootaaf yeroo gammachuu guddaa ture. † **10:24** 10:24 yookaan Masiihicha

33 Yihuudoonnis, “Nu hojii gaariif jennee dhagaadhaan si hin dhoofnu; garuu
waan ati Waaqa arrabsitee utumaa nama taatee jirtuu Waaqa of gooteef si dhoofna”
jedhanii deebisaniif.
34 Yesuus immoo akkana jedhee deebiseef; “Seera keessan keessatti, ‘Anuu isin,
“waaqota” jedheera’‡jedhamee barreeffameera mitii? 35 Inni erga warra dubbiin
Waaqaa isaaniif dhufeen ‘waaqota’ jedhee, Katabbiin Qulqulluun immoo waan hin
diigamneef, 36 sababii ani, ‘Ani ilma Waaqaa ti’ jedheef, isin maaliif isa Abbaan
qulqulleessee gara addunyaatti erge sanaan ‘Ati Waaqa arrabsita’ jettu? 37 Yoo ani
hojii Abbaa kootii hojjechuu baadhe na hin amaninaa. 38 Yoo ani hojii sana hojjedhe
garuu yoo na amanuu baattan illee hojicha amanaa; kunis akka Abbaan na keessa
jiru, akka anis Abbaa keessa jiru beektanii akka hubattaniif.” 39 Isaan amma illee isa
qabuu barbaadan; inni garuu isaan harkaa miliqe.
40 Yesuus ergasii deebi’ee Yordaanos gama iddoo Yohannis jalqabatti itti cuuphaa
ture sana dhaqee achis ture. 41 Namoonni baay’eenis gara isaa dhufanii, “Yohannis
mallattoo tokko illee hin hojjenne; garuu wanni inni waa’ee namicha kanaa dubbate
hundinuu dhugaa dha” jedhan. 42 Achittis namoonni hedduun Yesuusitti amanan.

# 11

*Du’uu Al’aazaar*

1 Namichi Al’aazaar jedhamu kan Biitaaniyaa keessa jiraatu tokko dhukkubsatee
ture. Biitaaniyaan ganda Maariyaamii fi obboleettiin ishee Maartaan keessa jiraatanii
dha. 2 Maariyaam isheen obboleessi ishee Al’aazaar dhukkubsate kun, isheedhuma
Gooftaa shittoo dibdee rifeensa mataa isheetiin miilla isaa haqxee sanaa dha.
3 Kanaaf obboleettonni isaa, “Yaa Gooftaa, inni ati jaallattu kunoo dhukkubsatee jira”
jedhanii Yesuusitti dhaaman.
4 Yesuusis yommuu waan kana dhaga’etti, “Dhibeen kun akka Ilmi Waaqaa ittiin
ulfaatuuf, ulfina Waaqaatiif dhufe malee du’aan hin ga’u” jedhe. 5 Yesuusis Maartaa
fi obboleettii ishee, Al’aazaarinis ni jaallata ture. 6 Innis yommuu akka Al’aazaar
dhukkubsate dhaga’etti guyyaa lama idduma jiru sana ture. 7 Innis ergasii barattoota
isaatiin, “Kottaa Yihuudaatti deebinaa” jedhe.
8 Barattoonni isaa immoo, “Yaa Barsiisaa, Yihuudoonni dhi’eenya kana dhagaad-
haan si tumuu barbaadaa turan; ati amma illee deebitee achi dhaqxaa?” jedhaniin.
9 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; “Guyyaan tokko sa’aatii kudha lama qaba
mitii? Namni guyyaan deemu waan ifa addunyaa kanaatiin arguuf hin gufatu. 10 Kan
halkaniin deemu garuu sababii ifni isa keessa hin jirreef ni gufata.”
11 Innis erga waan kana dubbatee booddee, “Michuun keenya Al’aazaar rafeera;
ani garuu hirribaa isa kaasuu nan dhaqa” isaaniin jedhe.
12 Barattoonni isaas, “Yaa Gooftaa, yoo rafee jiraate ni fayya” jedhaniin. 13 Yesuus
waa’ee du’a Al’aazaar dubbate; barattoonni isaa garuu waan inni waa’ee rafiitii
hirribaa dubbate se’an.
14 Kanaafuu Yesuus akkana jedhee ifatti baasee isaanitti hime; “Al’aazaar du’eera;
15 akka isin amantaniif ani waan achi hin turiniif waa’ee keessaniif nan gammada.
Ta’us kottaa gara isaa dhaqnaa.”
16 Toomaas inni Didimoos jedhamu immoo barattoota kaaniin, “Nus akka isa wajjin
duunuuf ka’aa ni dhaqnaa” jedhe.

*Yesuus Obboleettota Al’aazaar Jajjabeessuu Isaa*

17 Yesuus yommuu achi ga’etti Al’aazaar erga awwaalamee guyyaa afur akka ture
beeke. 18 Biitaaniyaan Yerusaalem irraa gara kiiloo meetira sadii fagaatti turte;

‡ **10:34** 10:34 Far 82:6

[19] Yihuudoonni baay'een Maartaa fi Maariyaamin sababii obboleessa isaaniitiif isaan
jajjabeessuu dhaqanii turan. [20] Maartaan yommuu dhufaatii Yesuus dhageessetti isa
simachuu gad baate; Maariyaam garuu mana teesse.
[21] Maartaanis Yesuusiin akkana jette; "Yaa Gooftaa, utuu ati as jiraattee silaa
obboleessi koo hin du'u ture. [22] Ammas taanaan akka waan ati Waaqa kadhattu
hunda Waaqni siif kennu nan beeka."
[23] Yesuusis, "Obboleessi kee ni ka'a" jedheen.
[24] Maartaanis deebiftee, "Akka inni du'aa ka'uu guyyaa dhumaa sanatti ka'u anuu
beeka" jetteen.
[25] Yesuus immoo akkana isheedhaan jedhe; "Du'aa ka'uu fi jireenyi ana. Namni
natti amanu yoo du'e iyyuu ni jiraata; [26] kan na keessa jiraatuu fi kan natti amanu
hundinuu bara baraan hin du'u. Kana ni amantaa ree?"
[27] Isheenis, "Eeyyee yaa Gooftaa, akka ati Kiristoos* Ilma Waaqaa kan gara
addunyaa dhufu sana taate nan amana" jetteen.
[28] Isheenis erga akkas jettee dhaqxee obboleettii ishee Maariyaamin kophaatti
waamtee, "Barsiisaan dhufeera; si waamas" jetteen. [29] Maariyaamis yommuu
waan kana dhageessetti ariitiin kaatee gara isaa dhaqxe. [30] Yesuus yeroo sana
iddoo Maartaan itti isa simatte ture malee amma illee ganda sana hin seenne.
[31] Yihuudoonni Maariyaamin jajjabeessaa mana keessa ishee wajjin turanis yommuu
akka isheen ariitiidhaan kaatee gad baate arganitti waan isheen achitti boo'uuf jettee
gara awwaalaa dhaqxu se'anii ishee duukaa bu'an.
[32] Maariyaamis yommuu iddoo Yesuus ture sana geessee isa argitetti, miilla isaa
irratti kuftee, "Yaa Gooftaa utuu ati as jiraattee silaa obboleessi koo hin du'u ture"
jetteen.
[33] Yesuusis yommuu boo'uu ishee, Yihuudoonni ishee wajjin dhufanis boo'uu
isaanii argetti hafuuraan akka malee jeeqame; ni dhiphates. [34] Innis, "Eessa isa
keessan?" jedhee isaan gaafate.
Isaanis, "Yaa Gooftaa, kottuu ilaali" jedhaniin.
[35] Yesuusis imimmaan dhangalaase.
[36] Yihuudoonnis, "Inni hammam akka isa jaallatu mee ilaalaa!" jedhan.
[37] Isaan keessaa tokko tokko garuu, "Inni kan ija namicha jaamaa sanaa bane, akka
namichi kunis hin duune gochuu hin danda'u turee?" jedhan.

### *Yesuus Al'aazaarin Du'aa Kaase*

[38] Yesuus ammas akka malee jeeqamee gara awwaala sanaa dhaqe. Awwaalli sunis
holqa balballi isaa dhagaadhaan cufame tokko ture. [39] Yesuusis, "Dhagaa kana achi
irraa fuudhaa!" jedhe.
Maartaan obboleettiin isa du'e sanaa garuu, "Yaa Gooftaa, inni erga awwaalamee
waan guyyaa afur tureef yoona ni ajaa'a" jetteen.
[40] Yesuus immoo, "Ati yoo amante akka ulfina Waaqaa argitu ani sitti hin himnee?"
jedheen.
[41] Kanaafuu isaan dhagicha irraa kaasan. Yesuusis ol ilaalee akkana jedhe; "Yaa
Abbaa, waan ati na dhageesseef sin galateeffadha. [42] Akka ati yeroo hunda na
dhageessu ani beekeera; garuu akka namoonni as dhadhaabatan kunneen akka ati
na ergite amananiif ani isaaniif jedheen waan kana dubbadhe."
[43] Yesuusis waan kana dubbatee, "Al'aazaar, as ba'i!" jedhee sagalee guddaadhaan
iyye. [44] Namichi du'e sunis akkuma harki isaatii fi miilli isaa huccuudhaan
kafanamee, fuulli isaas wayyaadhaan marametti gad ba'e.
Yesuusis, "Isa hiikaa, haa deemu" isaaniin jedhe.

---
* **11:27** 11:27 yookaan Masiihicha

*Mala Yesuusin Ajjeesuuf Malatame*

45 Kanaafuu Yihuudoota gara Maariyaam dhufanii waan Yesuus hojjete argan
keessaa hedduun isatti amanan. 46 Isaan keessaa tokko tokko garuu Fariisota bira
dhaqanii waan Yesuus hojjete itti himan. 47 Kana irratti luboonni hangafoonnii fi
Fariisonni yaa'ii Yihuudootaa waaman.

Isaanis akkana jedhanii gaafatan; "Namichi kun mallattoo baay'ee argisiisaa jira.
Maal haa goonu? 48 Yoo akkasumatti isa dhiifne namni hundi isatti amana; warri
Roomaas dhufanii iddoo keenyaa fi saba keenya nurraa fudhatu."

49 Isaan keessaas namichi Qayyaaffaa jedhamu kan bara sana luba ol aanaa
ture tokko akkana isaaniin jedhe; "Isin waan tokko illee hin beektan! 50 Sabni
guutummaatti dhumuu irra namni tokko sabaaf du'uun akka isinii wayyu hin
hubattan."
51 Inni bara sana waan luba ol aanaa tureef, akka Yesuus saba sanaaf du'u raajii
dubbachuu isaati malee dubbii kana of keessaa fuudhee hin dubbanne; 52 kunis
ijoollee Waaqaa kanneen bittinnaa'an walitti qabee tokko gochuuf malee saba sana
qofaaf miti. 53 Kanaafuu isaan gaafasii jalqabanii isa ajjeesuuf malachaa turan.

54 Kanaafuu Yesuus ifatti ba'ee Yihuudoota gidduu hin deddeebine. Achii ka'ee
gara magaalaa Efreem jedhamu kan gammoojjiitti dhi'aatu tokkoo dhaqe; barattoota
isaa wajjinis achi ture.

55 Faasiikaan Yihuudootaa waan dhi'aatee tureef, namoonni hedduun utuu Faasi-
ikaan hin ga'in of qulqulleessuuf jedhanii baadiyyaadhaa Yerusaalemitti ol ba'an.
56 Isaanis Yesuusin barbaadaa turan; mana qulqullummaa keessas dhaabatanii, "Isin
maal seetu? Inni gara Ayyaana kanaa hin dhufuu laata?" waliin jedhan. 57 Luboonni
hangafoonnii fi Fariisonni garuu Yesuusin qabuuf jedhanii namni iddoo inni jiru
beeku yoo jiraate akka isaanitti himuuf ajaja kennanii turan.

# 12

*Yesuus Biitaaniyaatti Shittoo Dibame*
*12:1-8 kwi – Mat 26:6-13; Mar 14:3-9; Luq 7:37-39*

1 Faasiikaa dura guyyaa ja'affaatti Yesuus gara Biitaaniyaa ganda Al'aazaar, kan
Yesuus du'aa isa kaase sun jiraachaa turee dhaqe. 2 Achitti irbaata qopheessaniif.
Maartaanis ni tajaajilti turte; Al'aazaaris warra isa wajjin irbaatatti dhi'aatan keessaa
tokko ture. 3 Maariyaamis shittoo Naardoos qulqulluu gatiin isaa guddaa kan gara
liitirii walakkaa ta'u fiddee miilla Yesuus dibde; rifeensa mataa isheetiinis miilla isaa
haqxe. Manichis urgaa shittoo sanaatiin guutame.

4 Barattoota isaa keessaa tokko kan dabarsee isa kennuuf jiru Yihuudaa Keeriyotichi
garuu akkana jedhe; 5 "Shittoon kun maaliif diinaarii dhibba sadiitti* gurguramee
hiyyeeyyiif hin kennamne?" 6 Akkana jechuun isaa waan hattuu tureef malee
hiyyeeyyiif yaade miti. Innis sababii korojoon maallaqaa harka isaa tureef, waan
achi keessa buufamu irraa ofii isaatii fudhachaa ture.
7 Yesuusis deebisee akkana jedhe; "Isheen shittoo kana guyyaa awwaala kootiitiif
haa tursituutii ishee dhiisaa. 8 Hiyyeeyyii yeroo hunda of biraa qabdu; ana garuu
yeroo hunda of biraa hin qabdan."

9 Yihuudoonni baay'een akka Yesuus achi jiru beekanii Yesuus qofaaf jedhaanii
utuu hin ta'in, Al'aazaar isa inni du'aa kaases ilaaluuf dhufan. 10 Kanaafuu luboonni
hangafoonni Al'aazaarinis ajjeesuuf mari'atan; 11 Yihuudoota keessaa namoonni
baay'een sababii isaatiif dhaqanii Yesuusitti amanaa turaniitii.

* **12:5** 12:5 Diinaariin dhibba sadii mindaa hojjetaan tokko waggaatti argatuu dha.

### *Yesuus Akka Mootiitti Yerusaalem Seenuu Isaa*
### *12:12-15 kwf – Mat 21:4-9; Mar 11:7-10; Luq 19:35-38*

12 Guyyaa itti aanutti namoonni Ayyaanichaaf dhufanii turan baay'een akka Yesuus
gara Yerusaalem dhufaa jiru dhaga'an. 13 Isaanis damee meexxii harkatti qabatanii
isa simachuu ba'an; iyyaniis akkana jedhan;
"Hoosaa'inaa!"†

"Inni maqaa Gooftaatiin dhufu eebbifamaa dha!"‡

"Mootiin Israa'el eebbifamaa dha!"
14 Yesuusis ilmoo harree tokko argatee yaabbate; kunis akkuma akkana jedhamee
barreeffamee dha;
15 "Yaa Intala Xiyoon, hin sodaatin;
kunoo, mootiin kee,
ilmoo harree yaabbatee dhufuutti jira."§
16 Barattoonni isaa jalqabatti waan kana hin hubanne. Erga Yesuus ulfina argatee
booddee garuu akka wanni barreeffame kun waa'ee isaa ta'ee fi akka isaanis
waanuma kana isaaf godhan yaadatan.
17 Namoonni baay'een yommuu inni Al'aazaarin awwaala keessaa waamee du'aa
kaasetti isa wajjin turanis ittuma fufanii dhugaa ba'an. 18 Namoonni baay'eenis
sababii mallattoo kana gochuu isaa dhaga'aniif isa simachuu ba'an. 19 Kanaafuu
Fariisonni, "Isin akka waa tokko illee gochuu hin dandeenye argitanii? Ilaa,
addunyaan guutuun akkamitti akka isa duukaa bu'e ilaalaa!" waliin jedhan.

### *Yesuus Duraan Dursee Waa'ee Du'a Isaa Dubbate*

20 Warra yeroo Ayyaanichaatti waaqeffachuuf ol ba'an keessaa tokko tokko
Giriikota turan. 21 Isaanis Fiiliphoos namicha Beetisayidaa Galiilaatii dhufe sanatti
dhi'aatanii, "Yaa gooftaa, Yesuusin arguu barbaanna" jedhaniin. 22 Fiiliphoosis
dhaqee Indiriiyaasitti hime; Indiriiyaasii fi Fiiliphoos immoo dhaqanii Yesuusitti
himan.
23 Yesuus immoo akkana jedhee isaaniif deebise; "Sa'aatiin Ilmi Namaa itti ulfina
argatu ga'eera. 24 Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; iji qamadii tokko yoo lafa
bu'ee du'uu baate kophaa isaa hafa. Yoo du'e garuu ija baay'ee naqata. 25 Namni
lubbuu isaa jaallatu kam iyyuu lubbuu isaa ni dhaba; kan addunyaa kana irratti
lubbuu isaa jibbu immoo jireenya bara baraatiif lubbuu isaa kaa'ata. 26 Namni na
tajaajilu kam iyyuu na faana haa bu'u; iddoo ani jiru tajaajilaan koos ni jiraata.
Abbaan koo nama na tajaajilu kamiif iyyuu ulfina ni kenna.
27 "Amma lubbuun koo dhiphatteerti; egaa ani maal jedhu ree? 'Yaa Abbaa, sa'aatii
kana jalaa na baasi;' garuu ani sababii kanaafan gara sa'aatii kanaa dhufe. 28 Yaa
Abbaa, maqaa kee ulfeessi!"
Ergasii sagaleen, "Ani isa ulfeesseera; ammas nan ulfeessa" jedhu tokko samiidhaa
dhufe. 29 Tuunni achi dhaabachaa ture yommuu sagalee kana dhaga'etti, "Ni
kakawwise" jedhe. Warri kaan immoo, "Ergamaa Waaqaatu isatti dubbate" jedhan.
30 Yesuus akkana jedhee deebise; "Sagaleen kun sababii keessaniif dhufe malee
sababii kootiif miti. 31 Yeroon itti addunyaa kanatti muramu amma; bulchaan
addunyaa kanaas amma gad gatama. 32 Ani garuu yeroon lafa irraa ol fuudhamutti
nama hunda ofitti nan harkisa." 33 Innis akka du'a akkamii du'uuf jiru argisiisuuf
kana jedhe.

† **12:13** 12:13 Hoosaa'inaa jechuun afaan Ibraayisxiitiin "Amma fayyisi" jechuu dha; kunis jecha galataa ti.
‡ **12:13** 12:13 Far 118:25,26 § **12:15** 12:15 Zak 9:9

34 Tuunnis deebisee, “Akka Kiristoos* bara baraan jiraatu nu Seera irraa dhageeny-
eerra; yoos ati akkamitti, ‘Ilmi Namaa ol fuudhamuu qaba’ jetta? ‘Ilmi Namaa’ kunis
eenyu?” jedheen.
35 Yesuus immoo akkana jedheen; “Ifni yeroo gabaabaadhaaf isin bira jira. Akka
dukkanni isin hin liqimsineef utuu ifa qabdanuu deddeebi’aa. Namni dukkana keessa
deddeebi’u eessa akka dhaqu hin beekuutii. 36 Ijoollee ifaa akka taataniif utuu ifa
qabdanuu ifa sanatti amanaa.” Yesuusis erga waan kana dubbatee fixee booddee
iddoo sanaa ka’ee isaan duraa dhokate.

### *Amantii Dhabuu Yihuudootaa*

37 Yesuus fuula isaanii duratti mallattoo hedduu hojjetu iyyuu, isaan isatti hin
amanne. 38 Kunis dubbiin Isaayyaas raajichaa kan:
“Yaa Gooftaa, ergaa keenya eenyutu amane?
Irreen Gooftaas eenyutti mul’ate?”†
jedhu sun akka raawwatamuuf ture.
39 Sababii kanaaf isaan amanuu hin dandeenye; Isaayyaas iddoo biraatti akkana
jedheeraatii;
40 “Ija isaaniitiin akka hin argineef,
qalbii isaaniitiin akka hin hubanneef,
akka ani isaan fayyisuufis akka gara kootti hin deebineef,
inni ija isaanii jaamseeraatii;
garaa isaaniis jabeesseera.”‡
41 Isaayyaas sababii ulfina isaa argee waa’ee isaas dubbateef waan kana jedhe.
42 Ta’us hooggantoota keessaa iyyuu namoonni baay’een isatti amanan. Garuu
waan mana sagadaatii nu baasu jedhanii Fariisota sodaataniif amantii isaanii ifatti
hin baafne; 43 isaan ulfina Waaqaa irra ulfina namaa jaallataniiruutii.
44 Yesuusis iyyee akkana jedhe; “Namni natti amanu isa na erge sanatti amana
malee natti miti. 45 Kan na argus isa na erge sana arga. 46 Akka namni natti amanu
hundinuu dukkana keessa hin jiraanneef ani ifa ta’ee gara addunyaa dhufeera.
47 “Namni yoo dubbii koo dhaga’ee eeguu baate kan isatti muru ana miti; ani
addunyaa fayyisuufin dhufe malee itti muruuf hin dhufneetii. 48 Namni na didu
kan dubbii koos hin fudhanne abbaa murtii tokko qaba; dubbiin ani dubbadhe sun
guyyaa dhumaatti isatti mura. 49 Garuu Abbaa isuma na erge sanatu akka ani waanan
dubbadhe sana jedhu na ajaje malee ani ofii kootiin hin dubbanne. 50 Akka ajajni isaa
jireenya bara baraa ta’e nan beeka. Kanaafuu wanni ani dubbadhu kam iyyuu waan
akka ani dubbadhuuf Abbaan natti himee dha.”

# 13

### *Yesuus Miilla Barattoota Isaa Dhiqe*

1 Yeroon sun Ayyaana Faasiikaatiin dura ture. Yesuusis akka addunyaa kana
keessaa gara Abbaa dhaquudhaaf sa’aatiin isaa ga’e ni beeke. Innis warra kan isaa
ta’an kanneen addunyaa keessa turan ni jaallate; hamma dhumaattis isaan jaallate.
2 Yeroo irbaataatti diiyaabiloos akka inni Yesuusin dabarsee kennuuf Yihuudaa
Keeriyoticha ilma Simoon keessa duraan dursee yaada kaa’e. 3 Yesuusis akka Abbaan
waan hunda harka isaatti kenne, akka Waaqa biraa dhufee fi akka gara Waaqaatti
deebi’u illee beeka ture; 4 kanaaf irbaata irraa ka’ee, wayyaa isaa kan irraan
uffate of irraa fuudhee lafa kaa’e; fooxaas mudhiitti hidhate. 5 Ergasii gabateetti
bishaan naqatee miilla barattootaa dhiquu fi fooxaa mudhiitti hidhate sanaanis
haquu jalqabe.

---

* **12:34** 12:34 yookaan Masiihichi † **12:38** 12:38 Isa 53:1 ‡ **12:40** 12:40 Isa 6:10

6 Inni gara Simoon Phexros dhufe; Phexrosis, “Yaa Gooftaa, situ miilla koo naa
dhiqaa?” jedheen.
7 Yesuus immoo deebisee, “Waan ani hojjechaa jiru ati amma hin beektu; booddee
garuu ni hubatta” jedheen.
8 Phexrosis, “Hin ta’u; ati gonkumaa miilla koo naa hin dhiqxu” jedheen.
Yesuusis deebisee, “Yoo ani siif dhiquu baadhe ati na biraa qooda hin qabaattu”
jedheen.
9 Simoon Phexrosis deebisee, “Yaa Gooftaa, yoos harka koo fi mataa koos malee
miilla koo qofa hin ta’in” jedheen.
10 Yesuusis, “Namni dhagna isaa dhiqate tokko miilla isaa qofa dhiqachuu isa
barbaachisa; dhagni isaa guutuun qulqulluu dha. Isin qulqulluu dha; garuu hunda
keessan miti” jedheen. 11 Innis nama dabarsee isa kennuuf jiru beeka tureetii;
sababiin inni, “Qulqulluun hunda keessan miti” jedheefis kanuma.
12 Innis erga miilla isaanii dhiqee booddee, uffata isaa uffatee iddoo isaatti deebi’ee
taa’e. Akkanas jedheen; “Isin waan ani isiniif godhe hubattanii? 13 Isin, ‘Barsiisaa’,
‘Gooftaas’ naan jettu; anis waan isuma isin jettan ta’eef isin dhuguma jettan. 14 Yoos
erga ani Gooftaa fi Barsiisaan keessan miilla keessan isinii dhiqee, isinis akkasuma
miilla walii dhiquu qabdu. 15 Akkuma ani isinii godhe kana isinis akka gootaniif
ani fakkeenya isinii kenneera. 16 Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; garbichi
gooftaa isaa hin caalu; ergamaanis kan isa erge hin caalu. 17 Egaa isin yoo waan kana
beektanii hojii irra oolchitan isin eebbifamoo dha.

### *Yesuus Akka Dabarfamee Kennamu Duraan Dursee Dubbate*

18 “Ani waa’ee hunda keessanii dubbachaa hin jiru; ani warran filadhe nan beeka.
Kun garuu dubbiin Katabbii Qulqulluu kan, ‘Inni buddeena koo nyaate koomee isaa
natti ol fudhate’*jedhu sun akka guutamuuf.
19 “Isin yommuu wanni kun ta’utti akka ani Isa ta’e akka amantaniif utuu inni hin
ta’in amma isinitti nan hima. 20 Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; kan nama
ani ergu kam iyyuu simatu hundinuu na simata; kan na simatu hundis isa na erge
sana simata.”
21 Yesuusis erga kana dubbatee booddee hafuuraan jeeqamee, “Ani dhuguman,
dhuguman isinitti hima; isin keessaa tokko dabarsee na kenna” jedhee dhugaa ba’e.
22 Barattoonni akka inni waa’ee eenyuu dubbate wallaalanii wal ilaalan.
23 Barattoota keessaas inni Yesuus isa jaallatu tokko Yesuusitti irkatee maaddiitti
dhi’aatee ture. 24 Simoon Phexrosis, “Mee eenyuu jechuu isaa akka ta’e isa gaafadhu!”
jedhee nyaaraan barataa sanatti hime.
25 Innis qoma Yesuusiitti hirkatee, “Yaa Gooftaa, eenyu innii?” jedhee gaafate.
26 Yesuusis deebisee, “Namichi ani buddeena afaan kaa’ata tokkoo caabii keessa
cuuphee kennuuf isa” jedhe. Innis buddeena caabii keessa cuuphee Yihuudaa ilma
Simoon Keeriyotichaatiif kenne. 27 Yihuudaas akkuma inni buddeenicha fudhateen
Seexanni itti gale.
Yesuusis, “Waan gochuuf jirtu dafii godhi” isaan jedhe. 28 Warra nyaataaf tataa’an
keessaas namni tokko iyyuu waan inni akkas isaan jedheef hin hubanne. 29 Sababii
Yihuudaan korojoo maallaqaa baachaa tureefis isaan keessaa namoonni tokko tokko
waan Yesuus, akka inni waan Ayyaanaaf barbaachisu bitu yookaan akka inni
hiyyeeyyiif waa kennu isatti hime se’an. 30 Yihuudaanis akkuma buddeena sana
fudhateen gad ba’e. Yeroon sunis halkan ture.

### *Yesuus Akka Phexros Isa Ganu Duraan Dursee dubbate*
*13:37-38 kwf – Mat 26:33-35; Mar 14:29-31; Luq 22:33-34*

* **13:18** 13:18 Far 41:9

[31] Erga Yihuudaan gad ba'ee booddee Yesuus akkana jedhe; "Amma Ilmi Namaa
ulfaateera; Waaqnis isaan ulfina argateera. [32] Waaqni erga isaan ulfina argatee,
Waaqni ofuma isaatiin Ilma ulfeessa; inni takkumaan isa ulfeessa.
[33] "Yaa ijoolle, ani yeroo gabaabaaf isin wajjinan jira. Isin na barbaaddu; ani
akkuma Yihuudootaan, 'Iddoo ani dhaqu isin dhufuu hin dandeessan' jedhe sana
ammas isiniin nan jedha.
[34] "Akka isin wal jaallattaniif ani ajaja haaraa isiniifin kenna. Akkuma ani isin
jaalladhetti isinis akkasuma wal jaalladhaa. [35] Yoo isin jaalala waliif qabaattan
namoonni hundinuu akka isin barattoota koo taatan kanaan ni beeku."
[36] Simoon Phexrosis, "Yaa Gooftaa, eessa dhaqxa?" jedhee isa gaafate.
Yesuusis, "Ati amma iddoo ani dhaqu na faana dhaquu hin dandeessu; gara
booddeetti garuu na duukaa buuta" jedhee deebiseef.
[37] Phexrosis, "Yaa Gooftaa, ani maaliifan amma si duukaa bu'uu hin dandeenye?
Ani siif jedhee lubbuu koo nan kenna" jedheen.
[38] Yesuusis deebisee, "Ati dhuguma naaf jettee lubbuu kee ni kennitaa? Ani
dhuguman, dhuguman sitti hima; ati utuu indaanqoon hin iyyin yeroo sadii na ganta"
jedheen.

# 14

*Yesuus Barattoota Isaa Jajjabeesse*

[1] "Garaan keessan hin raafamin. Waaqatti amanaa; nattis amanaa. [2] Mana Abbaa
koo keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira; utuu akkana ta'uu baatee silaa isinittin
hima ture. Ani iddoo isinii qopheessuuf achin dhaqaatii. [3] Anis yoon dhaqee iddoo
isinii qopheesse, akka isinis iddoo ani jiru jiraattaniif deebi'ee dhufeen ofitti isin
fudhadha. [4] Isinis karaa iddoo ani dhaquu ni beektu."

*Yesuus Karaa Gara Abbaatti Geessu Ta'uu Isaa*

[5] Toomaasis, "Yaa Gooftaa, ati eessa akka dhaqxu nu hin beeknu; yoos akkamitti
karaa sana beekuu dandeenya ree?" jedheen.
[6] Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Karaa fi dhugaan, jireenyis anuma. Yoo anaan
ta'e malee eenyu iyyuu gara Abbaa hin dhufu. [7] Utuu na beektanii silaa Abbaa koos
akkasuma ni beektu turtan; ammaa jalqabdaniis isa beektu; isas argitaniirtu."
[8] Fiiliphoos, "Yaa Gooftaa, Abbaa nutti argisiisi; kun nu ga'aatii" jedheen.
[9] Yesuusis akkana isaan jedhe; "Yaa Fiiliphoos, ani yeroo dheeraa akkanaa isin
wajjin jiraadhee, ati amma illee na hin beeknee? Namni na arge Abbaas argeera. Yoos
ati akkamitti, 'Abbaa nutti argisiisi' jechuu dandeessa ree? [10] Akka ani Abbaa keessa
jiru, Abbaanis akka na keessa jiru ati hin amantuu? Ani dubbii isinitti dubbadhu kana
ofuma kootiin hin dubbadhu. Garuu Abbaa isa na keessa jiraatutu hojii isaa hojjeta.
[11] Akka ani Abbaa keessa jiru, Abbaanis akka na keessa jiru na amanaa; yookaan
sababii hojii sanaatiif na amanaa. [12] Ani dhuguman, dhuguman isinitti hima; namni
natti amanu hojii ani hojjedhu ni hojjeta. Ani waanan gara Abbaa dhaquuf inni waan
kana caalu iyyuu ni hojjeta. [13] Akka Abbaan Ilmaan ulfina argatuuf ani waan isin
maqaa kootiin kadhattan kam iyyuu nan raawwadha. [14] Yoo isin maqaa kootiin waan
kam iyyuu na kadhattan ani nan raawwadha.

*Yesuus Akka Hafuura Qulqulluu Erguu Abdachiise*

[15] "Isin yoo na jaallattan ajaja koo eegaa. [16] Ani Abbaa nan kadhadha; innis akka
inni bara baraan isin wajjin jiraatuuf Jajjabeessaa biraa isinii kenna; [17] inni Hafuura
dhugaa ti. Addunyaan waan isa hin arginee fi waan isa hin beekneef isa fudhachuu
hin danda'u. Isin garuu waan inni isin wajjin jiraatuuf, isin keessas waan jiruuf isa
ni beektu. [18] Ani akka ijoollee haadhaa fi abbaa hin qabneetti isin hin dhiisu; gara

keessan nan dhufa. [19] Yeroo muraasa booddee addunyaan deebi'ee na hin argu; isin
garuu na argitu. Sababii ani jiraadhuuf isinis ni jiraattu. [20] Akka ani Abbaa koo
keessa jiru, akka isin na keessa jirtan akka anis isin keessa jiru gaafas ni beektu.
[21] Namni ajajawwan koo qabu, isaanis kan eegu, inni na jaallata. Nama na jaallatu
Abbaan koo ni jaallata; anis isa nan jaalladha; isattis of nan mul'isa."

[22] Yihuudaa Keeriyoticha utuu hin ta'in inni Yihuudaan kaan, "Yaa Gooftaa, ati
maaliif addunyaatti utuu hin ta'in nutti of mul'isuu barbaadda?" jedheen.

[23] Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Namni na jaallatu kam iyyuu dubbii koo ni
eega. Abbaan koo isa ni jaallata; nus gara isaa ni dhufna; iddoo jireenyaas isa wajjin
ni godhanna. [24] Namni na hin jaallanne dubbii koo hin eegu. Dubbiin isin dhageessan
kunis kan Abbaa na erge sanaati malee kan koo miti.

[25] "Ani utuman isin wajjin jiruu waan kana isinitti dubbadheera. [26] Jajjabeessaan
sun, Hafuurri Qulqulluun kan Abbaan maqaa kootiin ergu garuu waan hunda isin
barsiisa; waan ani isinitti hime hundas isin yaadachiisa. [27] Ani nagaa isin biratti
nan hambisa; nagaa koos isiniif nan kenna. Ani akka addunyaan kennutti isiniif hin
kennu. Garaan keessan hin raafamin; hin sodaatinis.

[28] "Isin akka ani, 'Ani nan deema; deebi'ees gara keessan nan dhufa' jedhe
dhageessaniirtu. Utuu na jaallattanii silaa gara Abbaa dhaquu kootti ni gammaddu
turtan; Abbaan na caalaatii. [29] Akka yommuu wanni kun ta'utti isin amantaniif utuu
wanni kun hin ta'in ani amma duraan dursee isinitti himeera. [30] Waan bulchaan
addunyaa kanaa dhufuuf, ani si'achi isin wajjin baay'ee hin dubbadhu; inni narraa
homaa hin qabu; [31] garuu akka ani Abbaa jaalladhu addunyaan akka beekuuf, ani
akkuma Abbaan na ajajetti nan hojjedha.

"Ka'aa, asii ni deemnaa.

# 15

*Muka Wayiniitii fi Dameewwan Isaa*

[1] "Ani muka wayinii dhugaa ti; kan dhaabes Abbaa koo ti. [2] Inni damee koo kan
ija hin naqanne hunda muree gata; damee ija naqatu immoo akka inni caalaatti
naqatuuf irraa qora. [3] Isin dubbii ani isinitti dubbadheen amma qulqulluu dha.
[4] Na keessa jiraadhaa; anis isin keessa nan jiraadhaa. Akkuma dameen yoo muka
wayiniitti jiraate malee ofuma isaatiin ija naqachuu hin dandeenye, isinis yoo na
keessa jiraattan malee ija naqachuu hin dandeessan.

[5] "Ani muka wayinii ti; isini immoo dameewwan. Namni yoo na keessa jiraate, anis
yoon isa keessa jiraadhe inni ija baay'ee naqata; isin narraa gargar baatanii homaa
gochuu hin dandeessaniitii. [6] Namni na keessa hin jiraanne akka damee gad gatamee
goguu ti. Dameewwan akkanaa walitti qabamanii ibiddatti naqamu; ni gubamus.
[7] Isin yoo na keessa jiraattan, dubbiin koos yoo isin keessa jiraate, waanuma feetan
kadhadhaa; innis isiniif ni kennama. [8] Isin yoo ija baay'ee naqattanii fi yoo barattoota
koo taatan, kanaan Abbaan koo ulfina argata.

[9] "Akkuma Abbaan na jaallatetti anis akkasuma isin jaalladheera. Egaa jaalala
koo keessa jiraadhaa. [10] Akkuma ani ajajawwan Abbaa kootii eegee jaalala isaa
keessa jiraadhu, isinis yoo ajajawwan koo eegdan jaalala koo keessa ni jiraattu.
[11] Akka gammachuun koo isin keessa jiraatuu fi akka gammachuun keessanis guutuu
ta'uuf ani waan kana isinitti himeera. [12] Ajajni koo isa kana: Akkuma ani isin
jaalladhetti isinis wal jaalladhaa. [13] Eenyu iyyuu jaalala guddaa kan namni lubbuu
isaa dabarsee michoota isaatiif kennu sana irra caalu hin qabu. [14] Waan ani isin
ajaje yoo raawwattan isin michoota koo ti. [15] Garbichi waan gooftaan isaa hojjetu
waan hin beekneef, ani si'achi garboota isiniin hin jedhu. Qooda kanaa ani michoota
isiniin jedheera; ani waanan Abbaa koo irraa dhaga'e hundumaa isin beeksiseeraatii.

16 Isinis akka dhaqxanii ija naqattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf anatu isin filatee
isin muude malee isin na hin filanne. Kunis akka Abbaan waan isin maqaa kootiin
kadhattan kam iyyuu isinii kennuuf. 17 Ajajni koo isa kana: Wal jaalladhaa.

*Addunyaan Barattoota Jibbuu Isaa*

18 “Yoo addunyaan isin jibbe, akka inni isin dura na jibbe beekaa. 19 Utuu isin kan
addunyaa taatanii silaa addunyaan kan ofii isaa ni jaallata ture. Amma garuu waan
ani addunyaa keessaa isin filadheef isin kan addunyaa miti. Kanaafuu addunyaan
isin jibba. 20 Dubbii ani, ‘Garbichi gooftaa isaa hin caalu’*jedhee isinitti hime sana
yaadadhaa. Isaan erga na ari’atanii, isinis ni ari’atu. Yoo dubbii kootiif ajajaman,
dubbii keessaniifis ni ajajamu. 21 Isaan waan Isa na erge sana hin beekneef, sababii
maqaa kootiitiif waan kana hunda isin irratti raawwatu. 22 Utuu ani dhufee isaanitti
himuu baadhee silaa cubbuu isaanitti hin ta’u ture. Amma garuu cubbuu isaaniitiif
sababii dhi’eeffatan hin qaban. 23 Namni na jibbu Abbaa koos ni jibba. 24 Utuu
ani hojii namni biraa tokko iyyuu hin hojjetin gidduu isaaniitti hojjechuu baadhee
silaa cubbuu isaanitti hin ta’u ture. Amma garuu utuma waan ani hojjedhe arganuu
anas Abbaa koos jibbaniiru. 25 Kunis akka dubbiin Seera isaanii keessatti, ‘Isaan
akkasumaan na jibban’†jedhamee barreeffame sun raawwatamuuf ta’e.
26 “Jajjabeessaan ani Abbaa biraa isinii ergu, jechuunis Hafuurri Dhugaa inni Abbaa
keessaa ba’u sun yommuu dhufutti waa’ee koo dhugaa ba’a. 27 Isinis jalqabaa
kaaftanii waan na wajjin turtaniif dhugaa baatu.

## 16

1 “Ani akka isin hin gufanneef jedhee wantoota kanneen isinitti himeera. 2 Isaan
mana sagadaa keessaa isin ari’u; dhugumaan yeroon itti namni isin ajjeesu kam iyyuu
akka waan Waaqa tajaajiluutti yaadu tokko ni dhufa. 3 Isaanis waan Abbaa yookaan
na hin beekiniif wantoota kanneen godhu. 4 Anis akka isin yommuu yeroon sun
ga’utti isaan yaadattaniif wantoota kanneen isinitti himeera. Ani waanan isin wajjin
tureef jalqabatti wantoota kanneen isinitti hin himne.

*Hojii Hafuura Qulqulluu*

5 “Amma garuu ani gara isa na ergee nan dhaqa; ta’us isin keessaa namni, ‘Ati
eessa dhaqxa?’ jedhee na gaafatu tokko iyyuu hin jiru. 6 Garuu waan ani wantoota
kanneen isinitti himeef garaan keessan gaddaan guutameera. 7 Ani garuu dhuguman
isinitti hima; deemuun koo bu’aa isiniif qaba; yoo ani deeme malee Jajjabeessaan sun
gara keessan hin dhufu; ani yoon deeme garuu isa isiniif nan erga. 8 Innis yommuu
dhufutti akka addunyaan waa’ee cubbuu, waa’ee qajeelummaatii fi waa’ee murtii
dogoggoree jiru mirkaneessa; 9 waa’ee cubbuu, sababii namoonni natti hin amanneef;
10 waa’ee qajeelummaa, sababii ani gara Abbaa dhaquu fi sababii isinis si’achi na hin
argineef; 11 waa’ee murtii immoo sababii bulchaa addunyaa kanaatti murameef.
12 “Ani amma iyyuu waanan isinitti himu baay’ee qaba; isin garuu amma baachuu
hin dandeessan. 13 Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufutti gara dhugaa hundaatti
isin geessa. Inni waan dhaga’u qofa dubbata malee ofuma isaatiin hin dubbatu; waan
dhufuuf jirus isinitti hima. 14 Inni sababii waanuma koo fuudhee isinitti beeksisuuf
ulfina naa kenna. 15 Wanni Abbaan qabu hundinuu kan koo ti. Inni waanuma koo
fuudhee isinitti beeksisa jechuun koos kanumaaf.
16 “Isin yeroo muraasa booddee na hin argitan; yeroo muraasa booddee immoo
deebitanii na argitu.”

*Gaddi Barattootaa Gammachuutti Ni Geeddarama*

* **15:20** 15:20 Yoh 13:16 † **15:25** 15:25 Far 35:19; 69:4

17 Barattoota isaa keessaas tokko tokko, “Inni, ‘Isin yeroo muraasaaf na hin argitan;
yeroo muraasaaf immoo deebitanii na argitu’ akkanumas ‘Ani waanan gara Abbaa
dhaquuf’ nuun jechuun isaa maal jechuu isaa ti?” waliin jedhan. 18 Isaanis, “ ‘Yeroo
muraasaaf’ jechuun isaa maal jechuu isaa ti? Maal jechuu isaa akka ta’e nu hin
beeknu” jedhan.

19 Yesuus immoo akka isaan isa gaafachuu barbaadan beekee akkana jedheen;
“Wanni ani, ‘Isin yeroo muraasaaf na hin argitan; yeroo muraasaaf immoo deebitanii
na argitu’ jedhe sun maal jechuu koo akka ta’e wal gaafachaa jirtuu? 20 Ani
dhuguman, dhuguman isinitti hima; isin ni boossu; ni gadittus. Addunyaan garuu
ni gammada. Isin ni gadditu; gaddi keessan garuu gammachuutti ni geeddarama.
21 Dubartiin yommuu ciniinsifattu, waan yeroon ishee ga’eef ni gadditi; erga daa’ima
deessee booddee garuu waan addunyaa irratti namni dhalateef, isheenis waan
gammadduuf dhiphina sana hin yaadattu. 22 Isinis akkasuma amma gadditaniirtu;
ani garuu deebi’een isin ilaala; garaan keessanis ni gammada. Gammachuu keessanis
eenyu iyyuu isin irraa hin fudhatu. 23 Gaafas isin homaa na hin kadhattan. Ani
dhuguman, dhuguman isinitti hima; Abbaan waan isin maqaa kootiin kadhattan kam
iyyuu isinii kenna. 24 Isin hamma ammaatti maqaa kootiin homaa hin kadhanne.
Akka gammachuun keessan guutuu ta’uuf kadhadhaa ni argattu.

25 “Ani wantoota kanneen fakkeenyaan isinitti himeera; garuu yeroon ani deebi’ee
fakkeenyaan isinitti hin dubbanne ni dhufa; yommus ani waa’ee Abbaa koo ifaan
ifatti isinittin hima. 26 Isin gaafas maqaa kootiin ni kadhattu. Ani Abbaa isiniif nan
kadhadha isiniin hin jedhu. 27 Isin waan na jaallattaniif, Waaqa biraa ba’uu koo waan
amantaniif Abbaan mataan isaa isin jaallata. 28 Ani Abbaa biraa ba’ee gara addunyaa
dhufeera; ammas addunyaa dhiisee gara Abbaa nan dhaqa.”

29 Barattoonni isaas akkana jedhan; “Kunoo, ati amma iyyuu fakkeenyaan utuu
hin ta’in ifaan ifatti dubbachaa jirta. 30 Akka ati waan hunda beektuu fi akka namni
tokko iyyuu gaaffii si gaafachuu hin barbaachifne nu amma ni beekna. Kanaanis nu
akka ati Waaqa biraa baate ni amanna.”

31 Yesuusis deebisee akkana jedheen; “Isin amma ni amantuu? 32 Kunoo yeroon
isin itti kophaatti na dhiiftanii tokkoon tokkoon keessan gara feetanitti bittinnooftan
tokko ni dhufa. Ammuma iyyuu dhufeera. Garuu waan Abbaan koo na wajjin jiruuf
ani kophaa koo miti.

33 “Akka isin anaan nagaa qabaattaniif ani wantoota kanneen isinitti himeera.
Addunyaa kana irratti rakkinni isin argata. Garuu jabaadhaa! Ani addunyaa
mo’adheeraa.”

# 17

*Yesuus Ofiif Kadhachuu Isaa*

1 Yesuus wantoota kanneen dubbatee gara samii ol ilaalee akkana jedhe:
“Yaa Abbaa, sa’aatiin sun ga’eera. Akka Ilmi kees ulfina siif kennuuf, ati Ilma
keetiif ulfina kenni. 2 Akka inni warra ati isaaf kennite hundaaf jireenya bara
baraa kennuuf, nama hunda irratti taayitaa isaaf kenniteertaatii. 3 Jireenyi bara
baraas kana: innis akka isaan si’i Waaqa dhugaa tokkichaa fi Yesuus Kiristoos isa
ati ergite sana beekaniif. 4 Ani hojii ati akka ani hojjedhuuf natti kennite sana
raawwachuudhaan lafa irratti ulfina siif kenneera. 5 Yaa Abbaa, amma immoo ati
ulfina ani utuu addunyaan hin uumaminiin dura si biratti qabaadhe sanaan of
biratti na ulfeessi.

*Yesuus Barattoota Isaatiif Kadhachuu Isaa*

[6] "Ani namoota ati addunyaa keessaa naa kennitetti maqaa kee beeksiseera.
Isaan kan kee turan; ati isaan naa kennite; isaanis dubbii kee eeganiiru. [7] Isaan
akka wanni ati anaaf kennite hundumtuu si biraa dhufe amma beekaniiru. [8] Ani
dubbii ati anaaf kennite isaaniif kenneeraatii; isaanis fudhataniiru. Akka ani si
biraa ba'es dhugumaan beekaniiru; akka ati na ergites amananiiru. [9] Ani isaaniif
nan kadhadha. Warri ati naa kennite waan kan kee ta'aniif isaaniifin kadhadha
malee addunyaaf hin kadhadhu. [10] Wanni ani qabu hundinuu kan kee ti; wanni
ati qabdu hundinuus kan koo ti. Anis kanaan ulfina nan argadha. [11] Ani si'achi
addunyaa keessa hin turu; isaan garuu amma iyyuu addunyaa keessa jiru; ani
gara kee nan dhufa. Yaa Abbaa Qulqulluu, akkuma nu tokko taane sana isaanis
tokko akka ta'aniif maqaa kee kan naa kennite sanaan isaan eegi. [12] Ani yeroo
isaan wajjin turetti, maqaa kee kan ati naa kennite sanaan isaan nan eege; isaan
eegeeras. Akka Katabbiin Qulqulluun raawwatamuufis ilma badii sana malee isaan
keessaa namni tokko iyyuu hin badne.
[13] "Amma garuu ani gara kee nan dhufa; gammachuun koos akka isaan keessatti
guutuu ta'uuf, ani amma iyyuu utuman addunyaa keessa jiruu wantoota kanneen
nan dubbadha. [14] Ani dubbii kee isaaniif kenneera; akkuma ani kan addunyaa
hin ta'in, isaanis waan kan addunyaa hin ta'iniif, addunyaan isaan jibbeera. [15] Ani
akka ati isa hamaa sana isaan irraa eegduuf malee akka ati addunyaa keessaa isaan
baaftuuf si hin kadhadhu. [16] Akkuma ani kan addunyaa hin ta'in isaanis akkasuma
kan addunyaa miti. [17] Dhugaadhaan isaan qulqulleessi; dubbiin kee dhugaa dha.
[18] Akkuma ati gara addunyaatti na ergite sana anis gara addunyaatti isaan ergeera.
[19] Akka isaanis dhugumaan qulqullaa'aniif, ani isaaniif jedhee of nan qulqulleessa.

### *Yesuus Amantoota Hundaaf Kadhachuu Isaa*

[20] "Ani warra dubbii isaaniitiin natti amananiifis malee isaan kana qofaaf hin
kadhadhu; [21] kunis yaa Abbaa, akkuma ati na keessa jirtu, anis si keessa jiru sana,
akka hundi isaanii tokko ta'aniif. Akka ati na ergite addunyaan akka amanuuf
isaanis nu keessa haa jiraatan. [22] Akkuma nu tokko taane isaanis tokko akka
ta'aniif, ulfina ati naaf kennite sana anis isaaniif kenneera; [23] kunis akka isaan
guutummaatti tokko ta'aniif ani isaan keessa nan jiraadha; ati immoo na keessa
jiraatta. Yoos akka ati na ergitee fi akkuma na jaallattetti akka isaanis jaallatte
addunyaan ni beeka.
[24] "Yaa Abbaa, akka warri ati naa kennite kunneen iddoo ani jiru na wajjin
jiraatanii fi akka isaan ulfina koo kan ati utuu addunyaan hin uumaminiin dura
waan na jaallatteef naa kennite sana arganis nan barbaada.
[25] "Yaa Abbaa Qajeelticha, addunyaan si hin beeku; ani garuu sin beeka; isaan
kunis akka ati na ergite ni beeku. [26] Akkan jaalalli ati ittiin na jaallatte sun isaan
keessa jiraatuuf, anis akka isaan keessa jiraadhuuf ani akka maqaan kee isaan
biratti beekamu godheera; akka beekamus nan godha."

## 18

### *Yesuus Qabame*

*18:3-11 kwf – Mat 26:47-56; Mar 14:43-50; Luq 22:47-53*

[1] Yesuus wantoota kanneen dubbatee barattoota isaa wajjin Sulula Qeediroon gama
iddoo biqiltuun ture tokkotti ce'e; innis, barattoonni isaas achi keessa seenan.
[2] Yesuus yeroo baay'ee barattoota isaa wajjin achitti wal argaa waan tureef,
Yihuudaan inni Yesuusin dabarsee kennu sunis iddoo sana beeka ture. [3] Kanaafuu
Yihuudaan tuuta loltootaatii fi qondaaltota luboota hangafootaa fi Fariisota biraa
ergaman dura deemaa achi dhufe. Isaanis guca, ibsaa fi mi'a lolaa qabatanii turan.

4 Yesuusis waan isa irra ga'uuf jiru hunda beeknaan gad ba'ee, "Isin eenyun barbaaddu?" jedhee isaan gaafate.
5 Isaanis deebisanii, "Yesuus isa Naazreeti" jedhan.
Yesuus immoo, "Ani isaa dha" jedhe. Yihuudaan inni dabarsee isa kennu sunis
jara wajjin achi dhaabachaa ture. 6 Yommuu Yesuus, "Ani isaa dha" isaaniin jedhetti
dugda duubatti deebi'anii lafatti kukkufan.
7 Inni ammas, "Isin eenyun barbaaddu?" jedhee isaan gaafate.
Isaanis, "Yesuus isa Naazreeti" jedhan.
8 Yesuusis deebisee, "Ani, 'Ani isaa dha' isiniin jedheera. Kanaafuu, isin yoo na
barbaaddan namoota kanneen dhiisaa haa deemanii!" jedhe. 9 Kunis akka dubbiin
inni, "Ani warra ati naa kennite keessaa tokko illee hin ganne"* jedhee dubbate sun raawwatamuuf ta'e.
10 Simoon Phexros goraadee qabu luqqifatee garbicha luba ol aanaa dha'ee gurra isaa mirgaa irraa kute. Maqaan garbicha sanaas Maalkoosii dha.
11 Yesuusis Phexrosiin, "Goraadee kee man'ee isaatti deebisi! Ani xoofoo Abbaan naa kenne hin dhuguu?" jedhe.

### *Yesuus Haannaatti Geeffame*
*18:12,13 kwf – Mat 26:57*

12 Tuunni loltootaa, ajajaan isaaniitii fi eegdonni Yihuudootaas Yesuusin qabanii
hidhan. 13 Isaanis duraan dursanii Haannaasitti isa geessan; Haannaas abbaa niitii
Qayyaaffaa ti; Qayyaaffaan immoo bara sana luba ol aanaa ture. 14 Qayyaaffaan isa
akka namni tokko uummataaf du'uun wayyu Yihuudoota gorsee turee dha.

### *Phexros Yeroo Jalqabaatiif Yesuusin Ganuu Isaa*
*18:16-18 kwf – Mat 26:69,70; Mar 14:66-68; Luq 22:55-57*

15 Simoon Phexrosii fi barataan biraa Yesuus faana bu'an. Barataan sunis waan
luba ol aanaa biratti beekamaa tureef, Yesuus wajjin dallaa luba ol aanaa keessa
seene; 16 Phexros garuu balbala dura ala dhaabachaa ture. Barataan luba ol aanaa biratti beekamaa ture kaan gad ba'ee intala balbala eegdutti himee Phexrosin ol seensise.
17 Intalli balbala eegdu sunis Phexrosiin, "Atis barattoota namicha kanaa keessaa tokko mitii?" jette.
Inni immoo deebisee, "Ana miti" jedhe.
18 Yeroon isaa waan dhaamocha tureef garboonnii fi eegdonni ibidda qabsiifatanii dhadhaabatanii qaqqaammachaa turan. Phexrosis isaan wajjin dhaabatee qaqqaammachaa ture.

### *Gaaffii Lubichi Ol aanaan Yesuusiif Dhi'eesse*
*18:19-24 kwf – Mat 26:59-68; Mar 14:55-65; Luq 22:63-71*

19 Yommus lubni ol aanaan Yesuusin waa'ee barattoota isaatii fi waa'ee barsiisa isaa gaafate.
20 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Ani ifaan ifatti addunyaatti dubbadheera;
iddoo Yihuudoonni hundi itti walitti qabamanitti, manneen sagadaattii fi mana
qulqullummaa keessattis ani yeroo hunda barsiisaan ture. Ani waan tokko illee
icciitiidhaan hin dubbanne. 21 Ati maaliif na gaafatta? Warra waan ani isaaniin
jedhe dhaga'an gaafadhu. Kunoo isaan waan ani jedhe beeku."
22 Yommuu Yesuus wantoota kanneen jedhetti qondaaltota achi ijaajjaa turan keessaa tokko, "Luba ol aanaaf akkana deebiftaa?" jedhee isa kabale.
23 Yesuusis deebisee, "Yoo ani waan hamaa dubbadhee jiraadhe, waan hamaa sana dhugaa ba'i. Yoo ani waan qajeelaa dubbadhee jiraadhe garuu ati maaliif na

* **18:9** 18:9 Yoh 6:39

rukutta?" jedhe. 24 Haannaasis Yesuusin akkuma inni hidhamee jirutti gara lubicha
ol aanaa, gara Qayyaaffaatti erge.

### *Phexros Yeroo Lammaffaa fi Sadaffaa Yesuusin Ganuu Isaa*
*18:25-27 kwf – Mat 26:71-75; Mar 14:69-72; Luq 22:58-62*

25 Simoon Phexros dhaabatee ibidda qaqqaammachaa ture. Kanaafuu isaan, "Atis
barattoota isaa keessaa tokko mitii?" jedhaniin.

Inni immoo, "Ana mitii" jedhee haale.

26 Garboota luba ol aanaa keessaas firri namicha Phexros gurra isaa irraa kute
sanaa tokko, "Ani iddoo biqiltuutti isa wajjin si hin arginee?" jedheen. 27 Phexros
ammas ni gane; yommusuma indaanqoon iyye.

### *Yesuus Fuula Phiilaaxoos Duratti*
*18:29-40 kwf – Mat 27:11-18,20-23; Mar 15:2-15; Luq 23:2,3,18-25*

28 Yihuudoonnis Yesuusin mana Qayyaaffaatii fuudhanii masaraa bulchaa warra
Roomaatti geessan. Yeroon sun ganama barii ture; Yihuudoonnis akka hin xuroofneef
jedhanii masaraa ol hin seenne; kunis akka Faasiikaa nyaachuu danda'aniif.
29 Kanaafuu Phiilaaxoos gara isaaniitti gad ba'ee, "Himanni isin namicha kana irratti
dhi'eessitan maali?" jedhee gaafate.

30 Isaanis, "Utuu namichi kun yakka hojjechuu baatee nu silaa isa dabarsinee sitti
hin kenninu ture" jedhanii deebisaniif.

31 Phiilaaxoosis, "Isin ofuma keessanii isa fuudhaatii akka seera keessaniitti itti
muraa" jedheen.

Yihuudoonnis, "Nu garuu nama tokko illee ajjeesuuf mirga hin qabnu" jedhaniin.
32 Kunis wanni Yesuus akka du'a akkamiitiin du'uuf jiru argisiisuuf jedhee dubbate
sun akka raawwatamuuf ta'e.

33 Phiilaaxoos ammas masaraa mootummaa seene; Yesuusinis ofitti waamee, "Ati
mootii Yihuudootaatii?" jedhee isa gaafate.

34 Yesuusis, "Waan kana sumatu jedhe moo namoota biraatu waa'ee koo sitti hime?"
jedhee gaafate.

35 Phiilaaxoosis deebisee, "Anatu Yihuudiidhaa ree? Kan dabarsee natti si kenne
sabuma keetii fi luboota hangafoota. Garuu ati maali gooteeti?" jedheen.

36 Yesuusis, "Mootummaan koo kan addunyaa kanaati miti. Utuu kan addunyaa
kanaa ta'ee silaa akka ani dabarfamee Yihuudootatti hin kennamneef tajaajiltoonni
koo naa lolu turan. Amma garuu mootummaan koo kan addunyaa kanaa miti" jedhe.

37 Phiilaaxoosis, "Yoos ati mootii dha kaa!" jedheen.

Yesuus immoo, "Akka ani mootii ta'e atuu jette. Dhugumaan wanni ani dhaladhee
gara addunyaa dhufeefis dhugaadhaaf dhugaa ba'uuf. Namni dhugaaf dhaabatu
hundinuu sagalee koo dhaga'a" jedhee deebise.

38 Phiilaaxoosis, "Dhugaan maal inni?" jedheen. Innis erga waan kana dubbatee
booddee amma illee Yihuudootatti gad ba'ee akkana jedheen; "Ani balleessaa tokko
illee isa irratti hin arganne. 39 Garuu isin akka ani yeroo Faasiikaatti nama tokko
gad isinii dhiisu bartee godhattaniirtu. Kanaafuu akka ani, 'Mootii Yihuudootaa' gad
isiniif dhiisu barbaadduu?"

40 Isaan amma illee iyyanii, "Lakki, Barabbaas malee isa miti!" jedhan. Barbaas
kun saamtuu ture.

## 19

### *Fannifamuun Yesuusitti Murame*
*19:1-16 kwf – Mat 27:27-31; Mar 15:16-20*

1 Phiilaaxoosis Yesuusin fuudhee garafsiise. 2 Loltoonnis gonfoo qoraattii micci-
iranii dha'anii mataa isaa irra kaa'an. Isaanis uffata dhiilgee isatti uffisanii, 3 "Akkam
ree, yaa Mootii Yihuudootaa!" jechaa gara isaatti deddeebi'aa turan. Isas ni kabalan.
4 Phiilaaxoos amma illee gad ba'ee Yihuudootaan, "Akka ani balleessaa tokko
illee isa irratti hin argatin akka beektaniif kunoo ani isa gad isiniifin baasa" jedhe.
5 Yesuusis gonfoo qoraattii kaa'atee, wayyaa dhiilgees uffatee gad ba'e; Phiilaaxoosis,
"Namichi kunoo ti!" isaaniin jedhe.
6 Luboonni hangafoonnii fi qondaaltonni isaanii yommuu isa arganitti, "Fannisi!
Fannisi!" jedhanii iyyan.
Phiilaaxoos immoo deebisee, "Isin ofuma keessanii fuudhaatii isa fannisaa malee
ani balleessaa tokko iyyuu isa irratti hin arganne" jedheen.
7 Yihuudoonnis deebisanii, "Nu seera qabna; namichi kun waan Ilma Waaqaa of
godheef akka seera keenyaatti du'uu qaba" jedhan.
8 Phiilaaxoosis yommuu dubbii kana dhaga'etti ittuma caalchisee sodaate. 9 Innis
masaraatti ol deebi'ee, "Ati nama eessaati?" jedhee Yesuusin gaafate. Yesuus garuu
deebii tokko iyyuu hin kennineef. 10 Phiilaaxoosis, "Ati na jalaa dubbachuu diddaa?
Akka ani gad si dhiisuuf taayitaa qabuu fi akka ani si fannisuuf taayitaa qabu ati hin
beektuu?" jedheen.
11 Yesuus immoo, "Ati utuu olii siif kennamuu baatee silaa taayitaa tokko illee
narratti hin qabdu ture. Kanaaf inni dabarsee sitti na kenne sun cubbuu cubbuu
caalu qaba" jedhee deebiseef.
12 Phiilaaxoosis yeroo sanaa jalqabee Yesuusin gad dhiisuu barbaada ture; Yihuu-
doonni garuu, "Ati yoo namicha kana gad dhiifte michuu Qeesaar miti. Namni mootii
of godhu kam iyyuu Qeesaariin morma" jedhanii iyyan.
13 Phiilaaxoosis yommuu dubbii kana dhaga'etti Yesuusin gad baasee, iddoo
"Dhagaa Afamaa" kan afaan Ibraayisxiitiin "Gabataa" jedhamutti barcuma murtii
irra taa'e. 14 Guyyaan sunis guyyaa Qophii Faasiikaa ture; yeroon isaas gara sa'aatii
ja'aa ture.
Phiilaaxoosis Yihuudootaan, "Mootiin keessan kunoo ti!" jedhe.
15 Isaan garuu, "Isa balleessi! Isa balleessi! Isa fannisi!" jedhanii iyyan.
Phiilaaxoos immoo, "Mootii keessan fannisu moo?" jedhee gaafate.
Luboonni hangafoonnis, "Nu Qeesaar malee mootii biraa hin qabnu" jedhanii
deebisaniif.
16 Kanaaf Phiilaaxoos akka inni fannifamuuf dabarsee isaanitti kenne.

### *Yesuus Fannifame*
*19:17-24 kwf – Mat 27:33-44; Mar 15:22-32; Luq 23:33-43*

Isaanis Yesuusin fuudhanii deeman. 17 Innis fannoo ofii isaa baadhatee iddoo
Buqqee Mataa kan afaan Ibraayisxiitiin *Golgootaa* jedhamutti ol ba'e. 18 Isaanis
achitti isa fannisan; isa wajjinis namoota biraa lama, isa tokko garanaan, kaan immoo
garasiin, Yesuusin immoo gidduu isaaniitti fannisan.
19 Phiilaaxoosis Katabbii,
Yesuus Isa Naazreeti, Mooticha Yihuudootaa,
jedhu tokko barreessee fannoo sanatti maxxanse. 20 Iddoon Yesuus itti fannifame
waan magaalaatti dhi'oo tureef Yihuudoonni hedduun katabbii sana dubbisaniiru;
katabbiin sunis afaan Ibraayisxiitiin, Laatiinii fi Giriikiin barreeffame. 21 Luboonni
Yihuudootaa hangafoonni Phiilaaxoosiin, "Namichi kun, ' "Ani mootii Yihuudootaa ti"
jedheera' jedhii barreessi malee, 'Inni Mootii Yihuudootaa ti' jettee hin barreessin"
jedhan.
22 Phiilaaxoosis, "Ani waanan barreesse, barreesseera" jedhee deebise.

23 Loltoonni sunis erga Yesuusin fannisanii booddee kittaa isaa hambisanii wayyaa
isaa fuudhanii akka tokko tokko isaan ga’uuf iddoo afuritti hiratan. Kittaan sun hin
hodhamne; olii hamma gadiittis dha’aa tokko ture.
24 Kanaafuu isaan, “Kottaa hin tarsaasnuu; garuu ixaa buufannee akka inni kan
eenyuu ta’u ilaallaa”* waliin jedhan.

Kunis akka Katabbiin Qulqulluun,

“Isaan wayyaa koo hiratan;
uffata koottis ixaa buufatan”

jedhu sun raawwatamuuf ta’e. Wanni loltoonni godhanis kanuma.
25 Fannoo Yesuus biras haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maariyaam niitiin
Qilophaatii fi Maariyaam isheen Magdalaa dhaabatanii turan. 26 Yesuusis yommuu
haadha isaatii fi barataa inni jaallatu sana utuu inni ishee cina dhaabatuu argetti
haadha isaatiin, “Dubartii nana! Kunoo, ilma kee” jedhe. 27 Barataa sanaan illee,
“Kunoo haadha kee” jedhe; barataan sunis sa’aatii sanaa jalqabee gara mana isaatti
ishee fudhate.

### *Du’a Yesuus*
### *19:29,30 kwf – Mat 27:48,50; Mar 15:36,37; Luq 23:36*

28 Ergasii Yesuus akka wanni hundinuu raawwatame beekee akka Katabbiin
Qulqulluun raawwatamuuf, “Nan dheebodhe” jedhe. 29 Qodaan dhangaggaa’aa
qabu tokko achi ture; isaanis dhangaggaa’aa sana keessa ispoonjii cuuphanii
hiisophiitti kaa’anii afaan isaatti qaban. 30 Yesuusis dhangaggaa’aa sana fudhatee,
“Raawwateera” jedhe. Mataa buusees hafuura isaa kenne.
31 Guyyaan sun guyyaa Qophii ture; guyyaan itti aanus Sanbataa addaa ture.
Kanaafuu akka reeffi isaanii Sanbataan fannoo irra hin oolle gochuuf jedhanii akka
miilli isaanii cabsamee† fannoo irraa gad buufamuuf Yihuudoonni Phiilaaxoosin
kadhatan. 32 Kanaafuu loltoonni dhaqanii miilla namicha jalqabaa, miilla namicha
Yesuus wajjin fannifame kaaniis cabsan. 33 Yommuu gara Yesuus dhufanitti garuu
inni du’e waan arganiif miilla isaa hin cabsine. 34 Loltoota sana keessaa inni tokko
garuu eeboodhaan cinaacha isaa waraane; yeruma sana dhiignii fi bishaan ba’e.
35 Namni waan kana arge rageesseera; ragaan isaas dhugaa dha. Inni akka dhugaa
dubbatu ni beeka; inni akka isinis amantaniif dubbata. 36 Kunis wanni Katabbiin
Qulqulluun, “Lafeen isaa tokko iyyuu hin cabsamu”‡ jedhe sun akka raawwatamuuf
ta’e. 37 Ammas Katabbiin Qulqulluun biraa, “Isaanis isa waraanan sana ni ilaalu”§
jedha.

### *Awwaalamuu Yesuus*
### *19:38-42 kwf – Mat 27:57-61; Mar 15:42-47; Luq 23:50-56*

38 Ergasii Yoosef namni Armaatiyaa kan sababii Yihuudoota sodaateef dhoksaan
barataa Yesuus ture sun reeffa Yesuus fudhachuuf Phiilaaxoosin kadhate. Phiilaax-
oosis isaaf eeyyame; kanaafuu inni dhaqee reeffa Yesuus fudhate. 39 Niqoodemoos
inni duraan halkaniin gara Yesuus dhufee tures walmakaa qumbiitii fi argeessa
gara kiiloo giraamii soddomii afur ulfaatu qabatee dhufe. 40 Isaanis reeffa Yesuus
fuudhanii akka duudhaa Yihuudootaatti awwaaluuf urgooftuu wajjin huccuu quncee
talbaa irraa hojjetameen kafanan. 41 Iddoo Yesuus itti fannifames lafa biqiltuu
tokkotu ture; lafa biqiltuu sana keessas iddoo awwaalaa haaraa kan namni tokko

---

* **19:24** 19:24 Far 22:18 † **19:31** 19:31 Akka miilli isaanii cabsame – Miilla yakkamtootaa burrusa guddaadhaan cabsuun gosa adabbii hamaa ture. Walumaa galatti miilla qofatu cabsama ture. Yeroo tokko tokko garuu harkis ni cabsama ture. Adabbiin kun yommuu nama fannifamaa jiru irratti raawwatamutti mataa isaatiin gosa adabbii gara jabinaa ti. Garuu dhiphinni du’a fannoo kan lubbuun daftee keessaa hin baane sun waan yeroo gabaabaa keessatti raawwatuuf akka gocha araaraatti ilaalama. ‡ **19:36** 19:36 Bau 12:46; Lak 9:12; Far 34:20 § **19:37** 19:37 Zak 12:10

iyyuu duraan itti hin awwaalamin tokkotu ture. 42 Sababii guyyaan sun guyyaa
Qophii Yihuudootaa turee fi iddoon awwaalaa sunis waan dhi'oo tureef Yesuusin
achi keessa kaa'an.

## 20

*Awwaala Duwwaa*
*20:1-8 kwf – Mat 28:1-8; Mar 16:1-8; Luq 24:1-10*

1 Guyyaa jalqaba torban sanaa ganama barii utuma dukkanaa'ee jiruu Maariyaam
isheen Magdalaa gara awwaalaa dhaqxee akka dhagaan afaan awwaala sanaa irraa
fuudhame argite. 2 Kanaafuu isheen fiigaa gara Simoon Phexrosii fi gara barataa
biraa kan Yesuus isa jaallate sanaa dhaqxee, "Gooftaa awwaala keessaa fudhataniiru;
eessa akka isa kaa'anis hin beeknu!" jetteen.

3 Kanaafuu Phexrosii fi barataan kaan ba'anii gara awwaalichaa dhaqan. 4 Lachan
isaanii iyyuu ni fiigu turan; barataan kaan garuu Phexros bira darbee fiiguudhaan
dursee iddoo awwaalaa sana ga'e. 5 Innis gad jedhee ilaalee huccuu quncee talbaa
irraa hojjetame lafatti arge malee awwaalicha keessa hin seenne. 6 Simoon Phexros
immoo isa duubaan dhufee awwaalicha keessa seene. Huccuu sanas lafatti arge;
7 akkanumas huccuu mataa Yesuusitti maramee ture arge. Huccuun sunis kophaa
isaa dachaafamee iddoo biraa ture malee huccuu quncee talbaa irraa hojjetame sana
bira hin turre. 8 Ergasiis barataan biraa inni jalqabatti awwaalicha bira ga'e sun
keessa seene. Innis argee amane. 9 Isaan akka Yesuus warra du'an keessaa ka'u
Katabbii Qulqulluu irraa amma iyyuu hin beekne tureetii.

*Yesuus Maariyaam Ishee Magdalaatti Mul'ate*

10 Barattoonni sunis gara mana isaaniitti deebi'an.

11 Maariyaam garuu alaan awwaala bira dhaabattee boo'aa turte. Utuma boossuus
awwaallatti gad jettee ilaalte; 12 isheenis ergamoota lama kanneen uffata adaadii
uffatanii iddoo reeffi Yesuus kaa'amee ture sana, inni tokko mataa duraan, kaan
immoo miilla jalaan taa'an argite.

13 Isaanis, "Dubartii nana, maaliif boossa?" jedhaniin.

Isheen immoo, "Gooftaa koo fudhataniiru; eessa akka isa kaa'anis ani hin beeku"
jetteen. 14 Yommuu waan kana dubbattee of irra gara galtettis Yesuusin isaa achi
dhaabatu argite; garuu Yesuus ta'uu isaa hin beekne.

15 Yesuusis, "Dubartii nana, maaliif boossa? Eenyun barbaadda?" jedheen.

Isheen immoo, nama iddoo biqiltuu keessa hojjetu seetee, "Yaa gooftaa, ati yoo isa
fuutee jiraatte, akka ani dhaqee fudhadhuuf eessa akka isa keesse natti himi" jetteen.

16 Yesuusis, "Maariyaam!" jedheen.

Isheenis isatti gara galtee afaan Ibraayisxiitiin, *"Rabbuunii!"* jetteen. Hiikkaan isaas
"Barsiisaa" jechuu dha.

17 Yesuus immoo, "Ani amma illee waan gara Abbaatti ol hin ba'iniif na hin tuqin.
Garuu obboloota koo bira dhaqiitii, 'Ani gara Abbaa kootii fi Abbaa keessaniitti,
gara Waaqa kootii fi Waaqa keessaniitti ol nan ba'a' jedheera jedhiitii isaanitti himi"
jedheen.

18 Maariyaam isheen Magdalaas gara barattootaa dhaqxee, "Ani Gooftaa argeera!"
jette. Akka inni waan kana isheen jedhes isaanitti himte.

*Yesuus Barattoota Isaatti Mul'ate*

19 Guyyaa jalqaba torban sanaa galgala utuu barattoonni waan Yihuudoota
sodaataniif balbala cufatanii walitti qabamanii jiranuu Yesuus dhufee isaan gidduu
dhaabatee, "Nagaan isiniif haa ta'u" jedheen. 20 Innis erga waan kana dubbatee

booddee harka isaatii fi cinaacha isaa isaanitti argisiise. Barattoonnis yommuu Gooftaa arganitti akka malee gammadan.
21 Yesuus amma illee, “Nagaan isiniif haa ta’u! Akkuma Abbaan na erge sana anis
isinan erga” jedheen. 22 Innis erga waan kana jedhee booddee Hafuura isaanitti
baafatee akkana jedheen; “Hafuura Qulqulluu fudhadhaa. 23 Yoo isin namootaaf
cubbuu isaanii dhiiftan isaaniif ni dhiifama; yoo isaaniif dhiisuu baattan immoo isaaniif hin dhiifamu.”

*Yesuus Toomaasitti Mul’ate*

24 Garuu yeroo Yesuus dhufetti warra Kudha Lamaan keessaa Toomaas inni
Didimoos jedhamu tokko barattoota wajjin hin turre. 25 Kanaafuu barattoonni warri
kaan, “Nu Gooftaa argineerra!” jedhanii isatti himan.

Inni garuu, “Ani iddoo mismaaraan waraaname harka isaa irratti argu malee, quba koo iddoo mismaaraa sana keessa kaa’u malee, harka koos cinaacha isaa keessa kaa’u malee hin amanu” jedheen.

26 Guyyaa saddeeti booddee barattoonni isaa ammas mana keessa turan; Toomaasis isaan wajjin ture. Utuma balbalichi cufamee jiruus Yesuus ol galee isaan gidduu
dhaabatee, “Nagaan isiniif haa ta’u!” jedheen. 27 Innis Toomaasiin, “Quba kee as
fidi; harka koo ilaali. Harka kee diriirfadhuutii cinaacha koo keessa kaa’i. Amani malee amantii hin dhabin” jedhe.

28 Toomaas immoo, “Gooftaa koo! Waaqa koo!” jedheen.

29 Yesuusis, “Ati waan na argiteef amante; warri utuu hin argin amanan eebbifamoo dha” jedheen.

30 Yesuus barattoota isaa duratti mallattoowwan biraa kanneen kitaaba kana
keessatti hin barreeffamin hedduu hojjete. 31 Wantoonni kunneen garuu akka Yesuus
inni Kiristoos* Ilma Waaqaa ta’e akka amantaniif, amanuudhaanis akka maqaa isaatiin jireenya qabaattaniif barreeffame.

# 21

*Yesuusii fi Dinqii Qurxummii Qabuu*

1 Wantoota kanneen booddee Yesuus ammas galaana Xibeeriyaas biratti barattoota
isaatti of mul’ise. Haalli inni ittiin of mul’ises akkana ture: 2 Simoon Phexros,
Toomaas inni Didimoos jedhamu, Naatnaa’el namichi Qaanaa Galiilaa, ilmaan
Zabdewoosii fi barattoonni biraa lama walii wajjin turan. 3 Simoon Phexrosis,
“Ani qurxummii qabuu nan dhaqa” isaaniin jedhe; isaanis, “Nus si wajjin dhaqna” jedhaniin. Gad ba’aniis bidiruu yaabbatan; halkan sana garuu homaa hin qabne.

4 Ganama bariidhaanis Yesuus qarqara galaanichaa irra dhaabachaa ture; barattoonni garuu akka inni Yesuus ta’e hin beekne.

5 Innis isaan waamee, “Ijoolle, qurxummii tokko illee hin qabdanii?” jedhee gaafate.

Isaan immoo, “Hin qabnu” jedhanii deebisan.

6 Innis, “Karaa mirga bidiruutiin kiyyoo gad darbadhaa; qurxummii ni argattuu” jedheen. Kanaafuu isaan kiyyoo sana gad darbatan; sababii baay’ina qurxummiitiifis kiyyoo sana harkisuu dadhaban.

7 Barataan inni Yesuus isa jaallachaa ture sunis, “Inni Gooftaa dha!” jedhee Phexrositti hime. Kanaafuu Simoon Phexros yommuu “Inni Gooftaa dha” jechuu isaa dhaga’etti waan marxoo isaa of irraa baasee tureef, marxoo isaa marxifatee
bishaanitti gad utaale. 8 Barattoonni kaan garuu waan qarqara galaanaa irraa
dhundhuma dhibba lama caalaa hin fagaatiniif kiyyoo qurxummiin keessa guute

* **20:31** 20:31 yookaan Masiihicha

sana harkisaa bidiruudhaan dhufan. 9 Yommuu lafatti ba'anittis ibidda cilee kan
qurxummiin irra jiruu fi buddeena achitti argan.
10 Yesuusis, "Mee qurxummii amma qabdan irraa waa fidaa!" isaaniin jedhe.
11 Simoon Phexrosis bidiruu sana yaabbatee kiyyoo qurxummiin gurguddaan 153
guute sana gara lafaatti harkise. Kiyyoon sunis qurxummii akkas baay'attuun
guutamu illee hin tarsaane. 12 Yesuusis, "Kottaa ciree nyaadhaa!" isaaniin jedhe.
Barattoota keessaas namni ija jabaatee, "Ati eenyu?" jedhee isa gaafate tokko iyyuu
hin turre. Isaan akka inni Gooftaa ta'e beekaniiruutii. 13 Yesuusis dhufee buddeena
sana fuudhee isaaniif kenne; qurxummichas akkasuma godhe. 14 Egaa Yesuus erga
du'aa kaafamee, kana wajjin yeroo sadaffaa barattoota isaatti mul'ate.

### *Yesuus Phexrosin Gaaffii Gaafate*

15 Yesuus erga isaan ciree nyaatanii booddee Sim'oon Phexrosiin, "Yaa Simoon ilma
Yohannis, ati warra kana caalaa na jaallattaa?" jedhe.
Innis, "Eeyyee, yaa Gooftaa; akka ani si jaalladhu atuu ni beekta" jedheen.
Yesuusis, "Ilmoolee hoolaa koo soori" jedheen.
16 Yesuus amma illee, "Yaa Simoon ilma Yohannis, ati na jaallattaa?" jedheen.
Innis deebisee, "Eeyyee, yaa Gooftaa, akka ani si jaalladhu atuu ni beekta" jedheen.
Yesuus immoo, "Hoolota koo tiksi" jedheen.
17 Yeroo sadaffaas, "Yaa Simoon ilma Yohannis, ati na jaallattaa?" jedheen.
Phexrosis sababii Yesuus yeroo sadaffaa, "Ati na jaallattaa?" jedhee isa gaafateef
gaddee, "Yaa Gooftaa, ati waan hunda beekta; akka ani si jaalladhus ni beekta"
jedheen.
Yesuusis akkana jedheen; "Hoolota koo soori. 18 Ani dhuguman, dhuguman sitti
hima; ati yeroo dargaggeessa turtetti, ofuma keetiin mudhii kee hidhattee lafa
barbaadde dhaqxa turte; yeroo dulloomtutti garuu harka kee ni diriirfatta; namni
biraas mudhii kee siif hidhee lafa ati hin barbaannetti si geessa." 19 Yesuusis akka
Phexros du'a akkamiitiin Waaqa ulfeessu argisiisuuf jedhee waan kana dubbate;
ergasii, "Na duukaa bu'i" jedheen.
20 Phexrosis garagalee utuu barataan inni Yesuus isa jaallatu sun isaan duukaa
bu'uu arge. Barataan kunis isa yeroo irbaataatti qoma Yesuusiitti irkatee, "Yaa
Gooftaa, inni dabarsee si kennu eenyu?" jedhe sanaa dha. 21 Phexrosis yommuu
isa argetti, "Yaa Gooftaa, namichi kun hoo?" jedhee Yesuusin gaafate.
22 Yesuusis deebisee, "Hamma ani dhufutti akka inni jiraatu yoo fedhii koo ta'e,
maaltu si dhibe? Ati na duukaa bu'i" jedheen. 23 Kanaaf oduun, "Barataan kun hin
du'u" jedhu obboloota gidduutti odeeffame. Yesuus garuu, "Hamma ani dhufutti akka
inni jiraatu yoo fedhii koo ta'e maaltu si dhibe?" jedhe malee, "Inni hin du'u" hin
jenne.
24 Inni dubbii kana dhugaa ba'u, kan waan kanas barreesse barataadhuma kana.
Akka dhuga ba'umsi isaa dhugaa ta'es nu beekna.
25 Kana malees Yesuus waan biraa baay'ee hojjeteera. Utuu tokkoon tokkoon isaanii
barreeffamanii jiraatanii silaa ani waan addunyaan mataan ishee iyyuu kitaabota
barreeffaman sanaaf iddoo ga'u qabdu hin se'u.

# Hojii Ergamootaa

*Seensa*
1 Yaa Tewofilos, ani waan Yesuus hojjechuu fi barsiisuu jalqabe hunda kitaaba koo
kan jalqabaa keessatti barreesseera. 2 Wanni kunis waan erga Yesuus ergamoota filate
sanaaf karaa hafuura qulqulluutiin ajaja kennee booddee hamma gaafa inni Samiitti
ol fudhatameetti ta'ee dha. 3 Innis du'a isaa booddee namoota kanatti of argisiisee
waan akka inni jiraataa ta'e mirkaneessu baay'ees dhi'eesse; bultii afurtama isaanitti
mul'atee waa'ee mootummaa Waaqaa dubbate. 4 Utuu isaan wajjin jiruus akkana
jedhee isaan ajaje; "Waadaa Abbaa kootii kan waa'ee isaa narraa dhageessan sana
eeggadhaa malee Yerusaalemii hin ba'inaa. 5 Yohannis bishaaniin cuupheetii; isin
garuu bultii xinnoo booddee Hafuura Qulqulluudhaan ni cuuphamtu."
6 Isaanis yommuu walitti qabamanitti, "Yaa Gooftaa, ati yeroo kanatti Israa'eliif
mootummaa ni deebiftaa?" jedhanii isa gaafatan.
7 Inni immoo akkana isaaniin jedhe; "Yeroo yookaan guyyaa Abbaan aangoo
isaatiin murteesse beekuun hojii keessan miti. 8 Yeroo hafuurri Qulqulluun isin
irra bu'utti garuu humna ni argattu; isinis Yerusaalem keessatti, Yihuudaa hundaa fi
Samaariyaa keessatti, hamma qarqara lafaattis dhuga baatota koo ni taatu."

*Yesuus Gara Samiitti Ol Fudhatame*
9 Erga inni waan kana dubbatee booddee utuma isaan ilaalanuu ol fudhatame;
duumessis ija isaanii duraa isa dhokse.
10 Yeroo inni ol ba'aa turettis, utuma isaan xiyyeeffatanii gara Samii ilaalaa
jiranuu namoonni uffata adaadii uffatan lama isaan bira dhadhaabatan. 11 Akkanas
jedhaniin; "Yaa namoota Galiilaa, isin maaliif as dhadhaabattanii gara Samii ilaaltu?
Yesuus innumti isin biraa samiitti ol fudhatame kun, akkuma isin utuu inni samiitti
ol ba'uu argitan kana deebi'ee ni dhufa."

*Maatiyaas Iddoo Yihuudaa Filatame*
12 Isaanis gaara Tulluu Ejersaa jedhamu irraa Yerusaalemitti deebi'an; gaarri kunis
Yerusaalem irraa gara deemsa guyyaa Sanbata* tokkoo fagaata. 13 Isaanis yommuu
Yerusaalem ga'anitti kutaa darbii kan keessa jiraachaa turan sanatti ol ba'an; isaanis:

Phexrosii fi Yohannis, Yaaqoobii fi Indiriiyaas,
Fiiliphoosii fi Toomaas,
Bartaloomewoosii fi Maatewos,
Yaaqoob ilma Alfewoos, Simoon isa Hinaafticha jedhamuu fi Yihuudaa ilma Yaaqoob turan.

14 Hundi isaaniis dubartootaa fi Maariyaam haadha Yesuus wajjin, obboloota isaa
wajjinis utuu gargar hin kutin yaada tokkoon kadhannaatti jabaachaa turan.
15 Gidduma sana Phexros ka'ee amantoota gara 120 ta'an gidduu dhaabate.
16 Akkanas jedhe; "Yaa obboloota, dubbiin kitaabaa kan Hafuurri Qulqulluun
yeroo dheeraan dura waa'ee Yihuudaa isa warra Yesuusin qaban fide sanaa afaan
Daawitiitiin dubbate sun raawwatamuu qaba. 17 Innis miseensa keenyaa fi nama
akka tajaajila kana keessatti qooda qabaatuuf filatame ture."

* **1:12** 1:12 Deemsa guyyaa Sanbata – Deemsi guyyaa Sanbataa gara kiiloo meetira tokkoo ti.

18 Yihuudaan horii hammina hojjetee argate sanaan lafa bitate; innis mataan kufee
qixxee lamaanitti tarsa'e; mar'umaan isaa hundinuus keessaa jige. 19 Namoonni
Yerusaalem keessa jiraatan hundinuus waan kana dhaga'an; lafa sanas afaan
isaaniitiin *Akeldaamaa* jedhanii waaman. Akeldaamaa jechuun "Lafa Dhiigaa"
jechuu dha.

20 Phexrosis akkana jedhe; "Kitaaba faarfannaa keessatti akkana jedhamee
barreeffameeraatii:

" 'Qe'een isaa haa onu;
namni keessa jiraatu tokko iyyuus hin hafin'†
akkasumas
" 'Aangoo isaa namni biraa haa fudhatu.'‡

21 Kanaaf warra yeroo gooftaa Yesuus nu gidduu ba'ee galaa ture hundumaa nu wajjin
turan keessaa nama tokko filachuun barbaachisaa dha; 22 namni filatamu kun nama
cuuphaa Yohannisii jalqabee hamma gaafa Yesuus nu biraa samiitti ol fudhatameetti
nu wajjin ture ta'uu qaba. Namoota kanneen keessaa tokko nu wajjin dhuga baatuu
du'aa ka'uu Yesuus ta'uu qabaatii."

23 Kanaafis namoota lama dhi'eessan; isaanis Yoosef isa Barsaabaas jedhamu
kan Yoosxoos jedhamee beekamu tokkoo fi Maatiyaas. 24 Akkanas jedhanii Waaqa
kadhatan; "Yaa Gooftaa garaa nama hundumaa beektu, ati namoota kanneen
lamaan keessaa isa kam akka filatte nutti argisiisi; 25 kunis akka inni tajaajilaa fi
ergamtummaa Yihuudaan dhiisee gara iddoo ofii isaatti gara gale sana fudhatuuf."
26 Isaanis ixaa buusan; ixaan sunis Maatiyaasiif ba'e. Kanaafuu inni ergamoota kudha
tokkotti dabalame.

# 2

## *Dhufaatii Hafuura Qulqulluu*

1 Yeroo guyyaan Pheenxeqoosxee* ga'etti, hundi isaanii iddoo tokkotti walitti
qabamanii turan. 2 Akkuma tasaas sagaleen akka bubbee jabaa bubbisu tokko samii
irraa dhufee mana isaan keessa tataa'aa turan sana hunda guute. 3 Isaanis waan
akka arraba ibiddaa† tokko isaa gargar qoodamee dhufee tokkoo tokkoo isaanii
irra bubbu'u argan. 4 Hundi isaaniis Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii akkuma
hafuurri sun isaan dandeessisetti afaan gara biraatiin dubbachuu jalqaban.

5 Yeroo sana Yihuudoonni Waaqa sodaatan saboota samii jala jiran hunda keessaa
dhufanii Yerusaalem keessa jiraachaa turan. 6 Yeroo sagaleen sun dhaga'amettis
namoonni hedduun waan jedhan dhabanii walitti qabaman; warri Hafuuraan
guutaman sun afaan tokkoo tokkoo namoota sanaatiin dubbachaa turaniitii. 7 Isaanis
akka malee dinqifatanii akkana jedhan; "Namoonni dudubbatan kunneen hundi
warra Galiilaati mitii? 8 Yoos akkamiin tokkoon tokkoon keenya isaanii afaanuma
keenya kan nu itti dhalanne dubbatan dhageenya ree? 9 Nu warri Phartee,‡

† **1:20** 1:20 Far 69:25 ‡ **1:20** 1:20 Far 109:8 * **2:1** 2:1 Guyyaan Pheenxeqoosxee – Guyyaan kun naannoo caamsaa 20 ta'a; innis guyyaa Yihuudoonni ayyaana haamaa midhaanii itti ayyaaneffatan. Pheenxeqoosxee jechuun "Shantamaffaa" jechuu dha; kunis sababii ayyaanni kun erga ayyaanni Faasiikaa darbee guyyaa shantamaa booddee ayyaaneffamuuf. Ayyaanni kun ayyaanota warri Israa'el waggaa keessatti ayyaaneffatan gurguddoo sadan keessaa isa tokko. Isaan guyyaa kanatti kennamuu seeraa yaadatu; yeroo ayyaana kanaatti dhiironni Yihuudootaa gara Yerusaalem dhaquun barbaachisaa ture. † **2:3** 2:3 Waan akka arraba ibiddaa – Ibiddi mallattoo argamuu Waaqaa ti; murtii Waaqaa wajjinis ni deema. ‡ **2:9** 2:9 Phartee – Pharteen naannoo biyya har'a Iraani jedhamtu keessatti gara kaaba ba'aatti argamtuu dha.

warri Meedii§ fi warri Elaam,* jiraattonni Mesophotaamiyaa,† warri Yihuudaa‡
fi Qaphadooqiyaa§ akkasumas jiraattonni Phonxoosii* fi Asiyaa,† 10 Firiigiyaa‡ fi
Phamfiliyaa,§ Gibxii* fi kutaawwan biyya Liibiyaa† kanneen naannoo Qareenaatti‡
argaman, nu warri Roomaadhaa§ dhufne, 11 nu Yihuudoonnii fi warri amantii
Yihuudootaa fudhanne lamaan, namoonni Qareexii fi Araboonni kunoo yommuu
namoonni kunneen afaanuma keenyaan dinqii Waaqaa dubbatan dhageenya!"
12 Hundi isaaniis dinqifatanii, waan jedhanis wallaalanii, "Kun maal jechuu dha?"
jedhanii wal gaafatan.

13 Namoonni tokko tokko garuu, "Isaan daadhii wayinii baay'ee dhuganiiru"
jedhanii isaanitti qoosan.

### *Haasaa Phexros*

14 Phexrosis ergamoota Kudha Tokkoo sana wajjin ka'ee dhaabate; sagalee isaas
ol fudhatee tuuta sanaan akkana jedhe; "Isin yaa namoota Yihuudaatii fi warri
Yerusaalem keessa jiraattan hundi, mee waan kana beekaa; waan ani isinitti himu
kana hubadhaa dhaga'aa. 15 Yeroon kun waan guyyaa keessaa sa'aatii sadaffaa ta'eef
namoonni kunneen akka isin yaaddan sana hin machoofne! 16 Kun garuu waan
Yoo'eel raajichi dubbatee dha; innis akkana jedha:
17 " 'Bara dhumaa keessa, jedha Waaqayyo,
ani Hafuura koo nama hunda irratti nan dhangalaasa;
ilmaanii fi intallan keessan raajii dubbatu;
dargaggoonni keessan mul'ata argu;
jaarsoliin keessan abjuu abjootu.
18 Bara sana keessa garboota koo warra dhiiraa fi dubartii irratti illee,
Hafuura koo nan dhangalaasa;
isaanis raajii ni dubbatu.
19 Ani ol samii irratti dinqii,
gad lafa irrattis mallattoo,
dhiiga, ibiddaa fi hurrii aaraa nan argisiisa.
20 Utuu guyyaan Gooftaa inni guddichii fi
ulfina qabeessi sun hin dhufin dura,
aduun dukkanatti geeddaramti;
ji'i immoo dhiigatti geeddarama.
21 Namni maqaa Gooftaa waammatu,
hundinuu ni fayya.'*

22 "Yaa namoota Israa'el, dubbii kana dhaga'aa; akkuma isinuu beektan, Yesuus
namni Naazreeti nama Waaqni dinqii, raajii fi mallattoo karaa isaatiin isin gidduutti
hojjeteen isinii mirkaneessee dha. 23 Namicha kana Waaqatu akkuma dur murteessee

---

§ **2:9** 2:9 Meedii – Meediin naannoo biyya har'a Iraan jedhamtu keessatti gara kaaba dhi'aatti argamtuu dha. * **2:9** 2:9 Elaam – biyya har'a Iraan jedhamtu keessatti gara kaaba dhi'aatti argamti. † **2:9** 2:9 Mesophotaamiyaa – Biyya har'a Iraaq jedhamtu keessatti, laga Xegroosiitii fi laga Efraaxiis gidduutti argamti. ‡ **2:9** 2:9 Yihuudaa – naannoon kun Yerusaalem illee ofitti dabalata. § **2:9** 2:9 Qaphadooqiyaa – lafa Asiyaa xinnoo keessatti naannoo ba'aatti, biyya har'a Turki jedhamtu keessatti argamtuu dha. * **2:9** 2:9 Phonxoos – mootummaa gama kibbaatiin qarqara galaana gurraachaa gara caalu qabatu. † **2:9** 2:9 Asiyaa – biyya Roomaa kan dhi'a biyya har'a Turki jedhamtuutti argamtu. ‡ **2:10** 2:10 Firiigiyaa – bulchiinsa gidduu gala dhi'a Asiyaa xinnoo keessatti kaaba Ajeeniitii fi laga Haaliisi gidduutti argamu. § **2:10** 2:10 Phamfiliyaa – biyya Roomaa kan kibba Asiyaa xinnootti biyya har'a Turki jedhamtu keessatti argamtu. * **2:10** 2:10 Gibxi – biyya Roomaa kan lafuma har'a Gibxi jedhamu kana turte. † **2:10** 2:10 Liibiyaa – Biyya kaaba Afriikaatti argamtu kan gama dhi'aatiin Gibxitti aantu. ‡ **2:10** 2:10 Qareenaatti – Magaalaa guddittii biyya Roomaa kan Qareenikaatii fi kutaa bulchiinsa Liibiyaa. § **2:10** 2:10 Roomaa – Magaalaa guddittii teessoo bulchiinsa mootummaa Roomaa. * **2:21** 2:21 Yoe 2:28-32

fi akkuma duraan dursee beeku sanatti dabarsee isinitti kenne. Isinis namoota hamoo
wajjin tokko taatanii fanniftanii isa ajjeeftan. 24 Waaqni garuu dhiphina keessaa
isa baasee, warra du'an keessaa isa kaase; duuti isa irratti aangoo qabaachuu hin
dandeenyeetii. 25 Daawitis akkana jedhee waa'ee isaa dubbate:

" 'Ani yeroo hunda Gooftaa of duratti nan argan ture.
Waan inni mirga koo jiruuf, ani hin raafamu.
26 Kanaaf garaan koo ni gammada; arrabni koos ni ililcha;
foon koos abdiidhaan jiraata.
27 Ati sii'ool keessatti na hin dhiiftuutii;
qulqullichi kee akka tortoru hin gootu.
28 Karaa jireenyaa na barsiifteerta;
fuula kee durattis gammachuudhaan na guutta.'†

29 "Yaa obboloota, akka Daawit hangafni abbootii durii sun du'ee awwaalame,
awwaalli isaas hamma har'aatti asuma akka jiru ani ija jabaadhee isinitti himuu
nan danda'a. 30 Innis waan raajii tureef akka Waaqni sanyii isaa keessaa nama tokko
teessoo isaa irra teessisuuf akka kakatee waadaa galeefii ture beeke. 31 Innis waa'ee
du'aa ka'uu Kiristoos‡, lubbuun isaa sii'ool keessatti akka hin hafin, yookaan foon
isaas akka hin tortorin duraan dursee argee dubbate. 32 Yesuusuma kana Waaqni
du'aa kaaseera; nu hundinuu dhuga baatota waan kanaa ti. 33 Kanaaf inni gara
mirga Waaqaatti ol ol jedhee, abdii Hafuura Qulqulluu Abbaa biraa fuudhee waan
isin amma argitanii fi dhageessan kana dhangalaase. 34 Daawit gara samiitti ol hin
baaneetii; inni mataan isaa garuu akkana jedha:

" 'Gooftaan Gooftaa kootiin akkana jedhe;
"Gara mirga koo taa'i;
35 hamma ani diinota kee
ejjeta miilla keetii siif godhutti." '§

36 "Kanaafuu Yesuusuma isin fanniftan kana akka Waaqni Gooftaa fi Kiristoos isa
godhe manni Israa'el hundi dhugumaan haa beeku."

37 Namoonni sunis yommuu waan kana dhaga'anitti, garaan isaanii raafamee
Phexrosii fi ergamoota kaaniin, "Yaa obboloota, yoos maal haa goonu?" jedhan.

38 Phexrosis akkana jedhee deebise; "Tokkoon tokkoon keessan qalbii jijjiirradhaa;
dhiifama cubbuu keessaniitiifis maqaa Yesuus Kiristoosiitiin cuuphamaa; kennaa
Hafuura Qulqulluus ni argattu. 39 Abdiin kunis isinii fi ijoollee keessaniif, akkasumas
warra Waaqni Gooftaan keenya ofitti waamu kanneen fagoo jiran hundaaf kenname."

40 Innis dubbii biraa baay'eedhaan dhugaa ba'ee, "Dhaloota jal'aa kana duraa of
oolchaa" jedhee isaan gorse. 41 Warri dubbii isaa fudhatanis ni cuuphaman; gaafas
nama gara kuma sadiitu isaanitti dabalame.

### *Tokkummaa Amantootaa*

42 Isaanis barsiisa ergamootaatti, jireenya tokkummaatti, buddeena caccabsuutti,
Waaqa kadhachuuttis ni jabaatan. 43 Namni hundinuus sodaan guutame; dinqii fi
mallattoon baay'een ergamootaan hojjetame. 44 Amantoonni hundinuus wajjin turan;
waan hundas walumaan qabu turan. 45 Qabeenya isaaniitii fi mi'a isaaniis gurguranii
nama rakkina qabu kamiif iyyuu qoodaa turan. 46 Isaanis guyyuma guyyaan
mana qulqullummaatti wal ga'aa turan; mana tokkoo tokkoo isaaniittis buddeena
kukkutanii, gammachuu fi garaa qulqulluudhaan wajjin nyaachaa turan. 47 Waaqas
galateeffachaa turan. Namoota hunda durattis ulfina qabu turan. Gooftaanis
guyyuma guyyaan warra fayyan waldaa isaaniitti dabalaa ture.

† **2:28** 2:28 Far 16:8-11 ‡ **2:31** 2:31 yookaan Masiihichaa § **2:35** 2:35 Far 110:1

# 3

### *Phexros Namicha Naafa Tokko Fayyise*

1 Gaaf tokko Phexrosii fi Yohannis yeroo kadhannaatti jechuunis waaree booddee
sa’aatii sagalitti mana qulqullummaatti ol ba’aa turan. 2 Namoonnis akka inni warra
mana qulqullummaa seenan waa kadhatuuf jedhanii namicha dhalootuma isaatii
jalqabee naafa ture tokko guyyuma guyyaan baatanii gara karra mana qulqullummaa
kan “Miidhagaa” jedhamuutti geessu turan. 3 Innis utuu Phexrosii fi Yohannis mana
qulqullummaa seenanuu argee horii isaan kadhate. 4 Phexrosis Yohannis wajjin
namicha hubatee ilaalee, “Mee nu ilaali!” jedheen. 5 Namichis waa isaan irraa
argachuu abdatee hubatee isaan ilaale.
6 Phexrosis, “Ani meetii yookaan warqee hin qabu; ani garuu waan qabu siifin
kenna. Maqaa Yesuus Kiristoos isa Naazreetiin ol ka’ii deemi!” jedhe. 7 Phexrosis
harka isaa mirgaa qabee ol isa kaase; yeruma sana miillaa fi gulubiin isaa ni
jabaate. 8 Innis utaalee ka’ee miillaan deemuu jalqabe; deemaa, utaalaa, Waaqas
galateeffachaa isaan wajjin mana qulqullummaa seene. 9 Namoonni hundinuu
yommuu deemuu isaatii fi Waaqa galateeffachuu isaa arganitti, 10 akka inni namicha
karra mana qulqullummaa kan, “Miidhagaa” jedhamu sana bira taa’ee kadhachaa
ture sana ta’e hubatan; isaanis waan isaaf ta’e sanaaf akka malee raajeffatan; ni
dinqifatanis.

### *Dubbii Phexros Dubbate*

11 Namoonni hundinuu yeroo namichi fayye sun Phexrosii fi Yohannis biraa
deebi’uu didetti dinqisiifatanii utuu isaan iddoo gardaafoo Solomoon jedhamu keessa
jiranuu fiigaa isaanitti dhufan. 12 Phexrosis yommuu waan kana argetti akkana
isaaniin jedhe; “Yaa namoota Israa’el wanni kun maaliif isin dinqa? Akka waan
nu humna yookaan qulqullummaa mataa keenyaatiin akka namichi kun deemu
gooneetti maaliif ija nutti babaaftu? 13 Waaqni abbootii keenyaa, Waaqni Abrahaam,
Waaqni Yisihaaqii fi Waaqni Yaaqoob tajaajilaa isaa Yesuusin kabajeera. Isin
garuu akka inni ajjeefamuuf dabarsitanii isa kennitan; Phiilaaxoos gad isa dhiisuu
murteessu iyyuu isin fuuluma Phiilaaxoos duratti isa haaltan. 14 Isinis isa qulqulluu fi
qajeelaa sana gantanii akka namichi nama ajjeese sun gad isinii dhiifamu kadhattan.
15 Isin burqaa jireenyaa ajjeeftan; Waaqni garuu warra du’an keessaa isa kaase; nus
dhuga baatota waan kanaa ti. 16 Namichi isin argitanii fi isa beektan kun maqaa
Yesuusitti amanuudhaan jabaate. Maqaa Yesuusii fi amantii karaa isaatiin dhufutu
akkuma isin hundi argitan kana namicha kanaaf fayyaa guutuu kenne.
17 “Ammas yaa obboloota, akka isinis utuu hin beekin akkuma bulchitoonni keessan
gochaa turan sana gootan ani nan beeka. 18 Waaqni garuu waan akka Kiristoos*
dhiphachuuf jiru duraan dursee karaa raajota hundaatiin dubbate sana akkanaan
raawwate. 19 Egaa akka cubbuun keessan haqamuuf, akka barri haaromfamaa
Gooftaa biraa dhufuuf qalbii jijjiirradhaa gara Waaqaatti deebi’aa; 20 kunis akka inni
Kiristoos isiniif filatame sana jechuunis Yesuusin erguuf. 21 Innis hamma yeroon
Waaqni itti waan hunda iddootti deebisu sun ga’utti samii irra turuu qaba; Waaqnis
bara dheeraadhaan dura karaa raajota isaa qulqullootaatiin waan kana dubbatee
ture. 22 Museen akkana jedheeraatii; ‘Waaqni keessan Gooftaan sabuma keessan
keessaa raajii akka kootii tokko isinii kaasa; isinis waan inni isinitti himu hunda
dhaga’aa. 23 Namni raajii sana hin dhageenye kam iyyuu saba isaa keessaa baafamee
ni balleeffama.’†
24 “Saamu’eel irraa jalqabee raajonni isa duubaan dhufanii waa dubbatan hundi
duraan dursanii waa’ee yeroo sanaa labsaniiru. 25 Isin immoo ilmaan raajotaatii fi

* **3:18** 3:18 yookaan Masiihiin isaa † **3:23** 3:23 KeD 18:15,18,19

ilmaan kakuu Waaqni abbootii keessan wajjin seene sanaa ti. Innis Abrahaamiin,
‘Sabni lafa irraa hundi karaa sanyii keetiitiin ni eebbifama’‡ jedhe. 26 Waaqni yeroo
Ilma isaa du’aa kaasetti, tokkoo tokkoo keessan hammina irraa isin deebisuudhaan
isin eebbisuuf jedhee jalqabatti gara keessanitti isa erge.”

# 4

*Phexrosii fi Yohannis Yaa’ii Yihuudootaa Duratti*

1 Utuu Phexrosii fi Yohannis namootatti dubbachaa jiranuu, luboonni, ajajaan
eegdota mana qulqullummaatii fi Saduuqonni isaanitti dhufan. 2 Sababii ergamoonni
sun namoota barsiisanii du’aa ka’uu karaa Yesuusiitiin argamu labsaniifis akka malee
aaran. 3 Isaanis Phexrosii fi Yohannisin qabanii hamma guyyaa itti aanuutti mana
hidhaatti isaan galchan; galgalaa’ee tureetii. 4 Warra dubbicha dhaga’an keessaas
baay’eetu amane; baay’inni warra amanees gara kuma shaniitti ol ka’e.
5 Guyyaa itti aanuttis bulchitoonni, maanguddoonnii fi barsiistonni seeraa
Yerusaalemitti wal ga’an. 6 Haannaas lubichi ol aanaan, isa wajjin immoo
Qayyaaffaan, Yohannis, Iskindiroosii fi namoonni maatii lubicha ol aanaa ta’an
kaan hundi achi turan. 7 Isaanis Phexrosii fi Yohannisin gidduu isaanii dhaabanii,
“Isin humna maaliitiin yookaan maqaa eenyuutiin waan kana gootan?” jedhanii
gaafachuu jalqaban.
8 Phexrosis Hafuura Qulqulluudhaan guutamee akkana isaaniin jedhe; “Isin yaa
bulchitootaa fi maanguddoota uummataa! 9 Har’a waa’ee waan gaarii nama naafa
tokkoof godhameetii fi akka inni itti fayyifame yoo nu gaafattan, 10 isinii fi namoonni
Israa’el hundinuu waan kana beekaa; namichi kun maqaa Yesuus Kiristoos nama
Naazreeti kan isin fanniftanii Waaqni immoo warra du’an keessaa isa kaase sanaatiin
fayyee fuula keessan dura dhaabata. 11 Yesuusis,

“ ‘Dhagaa isin ijaartonni tuffattan
kan dhagaa golee ta’ee dha.’*

12 Fayyinni nama biraa tokko irraa iyyuu hin argamu; maqaan nu ittiin fayyifamnu
kan samii gaditti namootaaf kenname biraa tokko iyyuu hin jiruutii.”
13 Namoonni sunis yommuu ija jabina Phexrosii fi Yohannis arganii akka isaan
warra barumsa hin qabnee fi warra hin beekamne ta’an hubatanitti ni dinqisiifatan;
akka isaan Yesuus wajjin turanis ni qalbeeffatan. 14 Garuu namicha fayyifame sana
isaa isaanuma wajjin achi dhaabatu arganii waan dubbatan dhaban. 15 Kanaaf akka
isaan waldaa keessaa gad ba’an ajajanii wajjin mari’achuu jalqaban. 16 Akkanas
jedhan; “Jara kana maal haa goonu? Akka isaan dinqii guddaa hojjetan namni
Yerusaalem keessa jiraatu hundi ni beeka; nus waan kana waakkachuu hin
dandeenyu. 17 Garuu akka wanni kun hammana caalaa uummata keessa hin
babal’anneef nu akka jarri kun si’achi maqaa kanaan nama tokkotti illee hin
dubbanne isaan of eeggachiisuu qabna.”
18 Isaanis jara waamanii akka isaan gonkumaa maqaa Yesuusiitiin hin dubbanne
yookaan hin barsiifne isaan ajajan. 19 Phexrosii fi Yohannis garuu deebisanii akkana
jedhan; “Qooda Waaqaa isiniif ajajamuun fuula Waaqaa duratti akka qajeelaa ta’ee fi
akka hin ta’in mee isinuu ilaalaa! 20 Nu waan arginee fi waan dhageenye dubbachuu
dhiisuu hin dandeenyuutii.”
21 Isaanis erga ittuma fufanii doorsisanii booddee jara gad dhiisan. Waan
namoonni sababii waan hojjetame sanaatiif Waaqa galateeffachaa turaniifis akka
itti jara adaban murteeffachuu hin dandeenye. 22 Umuriin namicha karaa dinqiitiin
fayyifame sanaa waggaa afurtamaa ol tureetii.

‡ **3:25** 3:25 Uma 22:18; 26:4 * **4:11** 4:11 Far 118:22

### *Kadhannaa Amantootaa*

[23] Phexrosii fi Yohannis yeroo gad dhiifamanitti gara saba isaanii dhaqanii waan
luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni jedhaniin hundumaa isaanitti himan.
[24] Isaanis yommuu waan kana dhaga'anitti kadhannaadhaan sagalee isaanii tokkum-
maan Waaqatti ol fuudhanii akkana jedhan; "Yaa Gooftaa Waan Hundaa Olii, situ
samii, lafa, galaanaa fi waan isaan keessa jiru hunda uume. [25] Ati Hafuura Qulqulluun
karaa afaan tajaajilaa kee abbaa keenya Daawitiitiin akkana jettee dubbatteerta;

" 'Namoonni maaliif akkanumaan mari'atu?
Saboonnis maaliif waan faayidaa hin qabne yaadu?
[26] Mootonni lafaa ka'anii,
bulchitoonnis Gooftichaa fi
dibamaa[†] isaatiin mormuuf
walitti qabaman.'[‡]

[27] Dhugumaan Heroodisii fi Phonxoos Phiilaaxoos Namoota Ormaatii fi uummata
Israa'el wajjin hojjetaa kee isa qulqulluu, Yesuus isa ati dibdetti mari'achuuf jedhanii
magaalaa kana keessatti walitti qabaman. [28] Isaanis waanuma humnii fi fedhiin kee
akka wanni kun ta'uuf duraan dursanii murteessan sana hojjetan. [29] Yaa Gooftaa,
egaa doorsisa isaanii ilaaliitii akka garboonni kee ija jabinaan dubbii kee dubbataniif
dandeettii kenniif. [30] Nama fayyisuu fi maqaa tajaajilaa kee qulqullichaa, maqaa
Yesuusiitiin mallattoo fi dinqii hojjechuuf harka kee diriirfadhu."

[31] Erga isaan Waaqa kadhatanii booddee lafti isaan itti wal ga'an sun ni sosochoote;
isaan hundinuus hafuura qulqulluudhaan guutamanii ija jabinaan dubbii Waaqaa
dubbatan.

### *Qabeenyi Amantootaa Kan Hunda Isaanii Ta'e*

[32] Amantoonni hundinuus garaa tokkoo fi yaada tokko qabu turan; waan qaban
hundas walumaan qoodachaa turan malee namni tokko iyyuu akka waan qabeenyi
inni qabu kam iyyuu kan mataa isaa qofa ta'eetti hin lakkoofne. [33] Ergamoonnis
du'aa ka'uu Gooftaa Yesuus humna guddaadhaan dhugaa ba'aa turan; ayyaanni
guddaanis hunduma isaanii irra ture. [34] Rakkataan tokko iyyuu isaan gidduu hin
turre. Warri lafa yookaan mana qaban hundinuu gurguranii maallaqa fidanii,
[35] miilla ergamootaa bira kaa'u turan; maallaqni sunis nama rakkina qabu kamiif
iyyuu ni qoodama ture.

[36] Yoosef namni gosa Lewwii kan Qophiroositti dhalate, inni ergamoonni Bar-
naabaas jedhaniin tokkos achi ture. Barnaabaas jechuun "ilma jajjabinaa" jechuu
dha. [37] Innis lafa qotiisaa ofii isaa gurguree horii isaa fidee miilla ergamootaa bira
kaa'e.

## 5

### *Anaaniyaasii fi Safiiraa*

[1] Namni Anaaniyaas jedhamu tokko niitii isaa Safiiraa wajjin lafa gurgurate. [2] Innis
utuma niitiin isaa beektuu horii sana irraa gartokko ofii isaatii hambifatee kan hafe
immoo geessee miilla ergamootaa bira kaa'e.

[3] Phexros garuu akkana jedhe; "Yaa Anaaniyaas, akka ati Hafuura Qulqulluu sobdee
horii lafa gurgurattee argate irraa gartokko hambifattuuf seexanni maaliif akkas
garaa kee guute? [4] Lafti sun utuu hin gurguramin iyyuu kan kee ture mitii? Erga
gurguramee booddees horiin sun harkuma kee hin turree? Yoos akka ati waan akkasii
gootu maalitu si yaachise? Ati Waaqa sobde malee nama hin sobne."

---

† **4:26** 4:26 yookaan Masiihii ‡ **4:26** 4:26 Far 2:1,2

5 Anaaniyaasis yommuu waan kana dhaga'etti kufee du'e. Warri waan kana
dhaga'an hundinuus sodaa guddaan qabaman. 6 Dargaggoonnis dhufanii, reeffa isaa
kafanan; gad baasaniis isa awwaalan.

7 Gara sa'aatii sadii booddee niitiin isaa utuu waan ta'e hin beekin dhuftee ol seente.
8 Phexrosis, “Gatiin isin Anaaniyaas wajjin lafa gurgurattan sana irraa argattan
kanumaa? Mee natti himi!” jedhee ishee gaafate.

Isheenis, “Eeyyee kanuma” jette.

9 Phexrosis, “Isin akkam Hafuura Gooftaa qoruuf walii galuu dandeessan? Ilaa!
miilli warra dhirsa kee awwaalanii balbala dura ga'eera; sis gad si baasu” jedheen.

10 Isheenis yeruma sana miilla isaa jalatti lafa dhooftee duute; dargaggoonni sunis
ol seenanii reeffa ishee argan; gad baasaniis dhirsa ishee biratti ishee awwaalan.
11 Waldaan kiristaanaa hundi, warri waan kana dhaga'an hundinuus sodaa guddaan
qabaman.

### *Ergamoonni Dhukkubsattoota Baay'ee Fayyisan*

12 Ergamoonnis mallattoo fi dinqii baay'ee uummata gidduutti hojjetan. Aman-
toonni hundinuus iddoo gardaafoo Solomoon jedhamutti walitti qabamu turan.
13 Warra hafan keessaa namni tokko iyyuu isaanitti dabalamuuf ija hin jabaanne,
uummanni garuu akka malee isaan ulfeessa ture. 14 Hamma duraa caalaas dhiironnii
fi dubartoonni hedduun Gooftaatti amananii amantootatti dabalaman. 15 Kanaafis
akka yommuu Phexros achiin darbutti gaaddiddumti isaa iyyuu isaan keessaa tokko
tokko irra bu'uuf jedhanii namoonni dhukkubsattoota karaatti baasanii siree fi itillee
irra ciciibsan. 16 Namoonnis magaalaawwan naannoo Yerusaalem jiran keessaa
warra dhukkubsatanii fi warra hafuura xuraa'aan dhiphatan fidanii achitti wal ga'an;
warri geeffaman hundinuus ni fayyifaman.

### *Ergamoonni Ari'ataman*

17 Lubni ol aanaanii fi miseensonni garee Saduuqotaa warri isa wajjin turan
hundinuu hinaaffaan guutaman. 18 Isaanis ergamoota qabanii mana hidhaa
uummataa keessa buusan. 19 Garuu ergamaan Gooftaa tokko halkaniin balbala
mana hidhaa banee gad isaan baase. 20 Innis, “Dhaqaa mana qulqullummaa keessa
dhadhaabadhaatii, dubbii jireenya haaraa kana hunda isaa uummatatti himaa”
jedheen.

21 Isaanis akkuma isaanitti himame sanatti ganama barii mana qulqullummaa
seenanii uummata barsiisuu jalqaban.

Lubni ol aanaanii fi warri isa wajjin turan yommuu achi ga'anitti waldaa
Yihuudootaatii fi yaa'ii maanguddoota Israa'el walitti waaman; akka ergamoota
sana fidaniifis mana hidhaatti namoota ergan. 22 Qondaaltonni ergaman sun
garuu yommuu mana hidhaa ga'anitti jara achitti hin arganne; kanaafis deebi'anii,
23 “Mana hidhaa sana isaa sirriitti qollofamee jiru, eegdotas, utuu isaan balbala
dura dhaabatanii jiranuu argine; yeroo bannetti garuu nama tokko illee achi
keessatti hin arganne” jedhan. 24 Ajajaan eegdota mana qulqullummaatii fi luboonni
hangafoonni yommuu oduu kana dhaga'anitti dinqifachuudhaan waan jedhan
wallaalanii, “Maaltu dhalate immoo?” jedhan.

25 Yommus namichi tokko dhufee, “Jarri isin mana hidhaatti galchitan sun kunoo,
mana qulqullummaa keessa dhadhaabatanii uummata barsiisaa jiru!” jedhe. 26 Kana
irratti ajajaan sun qondaaltota wajjin dhaqee ergamoota sana fide; isaanis sababii
uummanni dhagaan nu tuma jedhanii sodaataniif humnatti hin fayyadamne.

27 Ergamootas fidanii, akka lubni ol aanaan isaan qoruuf fuula yaa'ii Yihuudootaa
dura isaan dhadhaabachiisan. 28 Lubichi ol aanaanis, “Nu akka isin maqaa kanaan
hin barsiisne jabeessinee isin ajajnee turre; isin garuu barsiisa keessaniin Yerusaalem

guuttaniirtu; akka nu itti gaafatamtoota dhiiga namicha kanaa taanu nu gochuu
barbaaddu” jedhe.
29 Phexrosii fi ergamoonni kaan garuu akkana jedhanii deebisan; “Nu namaaf
ajajamuu irra Waaqaaf ajajamuu qabna! 30 Yesuus isa isin fannoo irratti fanniftanii
ajjeeftan sana Waaqni abbootii keenyaa warra du’an keessaa isa kaaseera. 31 Waaqni
akka inni Israa’eliif qalbii jijjiirrachuu fi dhiifama cubbuu kennuuf jedhee bulchaa
fi Fayyisaa godhee mirga ofiitti ol ol isa qabe. 32 Nu dhuga baatota waan kanaa ti;
akkasumas Hafuurri Qulqulluun Waaqni warra isaaf ajajamaniif kenne sun dhuga
ba’aa waan kanaa ti.”
33 Isaanis yommuu waan kana dhaga’anitti akka malee aariidhaan guggubatanii
ergamoota ajjeesuuf mari’atan. 34 Fariisichi Gamaaliyaal jedhamu, barsiisaan seeraa
kan namni hundi kabaju tokko garuu waldaa Yihuudootaa keessa dhaabatee akka
ergamoonni sun yeroof gad baafaman ajaje. 35 Innis akkana isaaniin jedhe;
“Yaa namoota Israa’el, waan jara kana gochuuf deemtan keessatti of eeggadhaa.
36 Bara dheeraan dura Toyidaas akka waan nama guddaa ta’eetti of ilaalee kaanaan
namoonni gara dhibba afuriitti hedaman isa faana bu’an; inni ni ajjeefame; duuka
buutonni isaa ni bittinneeffaman; akkasumaan badanis. 37 Namicha kana booddee
immoo Yihuudaan, namni Galiilaa bara lakkoobsa sabaa keessa ka’ee nama baay’ee
ofitti kutate; innis ni ajjeefame; warri isa faana bu’anis ni bittinnaa’an. 38 Kanaafuu
dubbii kana keessatti ani isinittin hima; namoota kana gad dhiisaa! Haa deemani!
Mariin isaanii yookaan hojiin isaanii kun yoo waan nama irraa dhufe ta’e ni bada.
39 Yoo waan Waaqa irraa dhufe ta’e garuu jara kana dhowwuu hin dandeessan; isin
mataan keessan iyyuu akka utuu Waaqaan wal loltanuu hin argamne of eeggadhaa!”
40 Isaanis gorsa isaa fudhatan; ergamoota sanas ol waamanii garafan; akka isaan
maqaa Yesuusiitiin waa hin dubbannes ajajanii gad isaan dhiisan.
41 Ergamoonnis akka maqaa sanaaf jedhanii qaana’aniif waan ga’umsa argataniif
akka malee gammadaa fuula waldaa duraa deeman. 42 Isaanis guyyuma guyyaan
mana qulqullummaatti, mana namaattis utuu gargar hin kutin akka Yesuus Kiristoos*
ta’e barsiisaa, lallabaas turan.

# 6

*Namoonni Torba Filatamuu Isaanii*

1 Bara sana keessa yommuu baay’inni barattootaa dabalamaa deemetti Yihu-
udoonni Giriikota keessa jiraatan Ibrootatti guunguman; haadhonni hiyyeessaa*
Yihuudootaa nyaata guyyaa guyyaan hiramu keessatti hacuucamanii turaniitii.
2 Kanaaf ergamoonni kudha lamaan barattoota hunda walitti qabanii akkana
jedhaniin; “Maaddii tajaajiluuf jennee dubbii Waaqaa barsiisuu dhiisuun nuuf
qajeelaa miti. 3 Kanaaf yaa obboloota isin namoota maqaa gaarii qaban kanneen
Hafuura Qulqulluu fi ogummaan guutaman torba gidduu keessanii filadhaa. Nus itti
gaafatama kana isaanitti kenninee, 4 Waaqa kadhachuu fi dubbii isaa barsiisuutti
jabaannaa.”
5 Wanni isaan jedhanis tuuta sana hunda gammachiise. Isaanis Isxifaanos
namicha amantii fi Hafuura Qulqulluudhaan guutame tokko, akkasumas Fiiliphoosii
fi Phirookoroosin, Niiqaaroonaa fi Xiimoonaa, Pharmeenaa fi Niqoolaas namicha
Anxookiiyaa isa amantii Yihuudootaatti gale sana filatan. 6 Isaanis jara kana

* 5:42 5:42 yookaan Masiihii * 6:1 6:1 haadhonni hiyyeessaa – Kun garee dubartoota akka malee rakkatanii ti. Yerusaalem keessa haadhota hiyyeessaa kanneen dhirsoonni isaanii bara jireenya isaanii gara caalu magaalaa qulqullittiin ala jiraatanii akka achitti du’anii itti awwaalamaniif jedhanii gara Yerusaalem dhufanii irraa du’an tokko tokkotu ture. Yihuudoonnis garee kana gargaaruuf jedhanii akka maallaqni isaan ittiin nyaata bitatan isaaniif kennamuuf mala tokko qopheessan.

fuula ergamootaa dura dhaaban; ergamoonnis Waaqa kadhataniifii harka isaan irra
kaa'an.
7 Dubbiin Waaqaa ni babal'ate; baay'inni barattootaas Yerusaalem keessatti akka
malee dabalame; luboonni hedduun amantii kanaaf ajajaman.

### *Isxifaanos Qabame*

8 Isxifaanos ayyaanaa fi humna Waaqaatiin guutamee dinqii fi mallattoo gurguddaa
namoota gidduutti hojjette. 9 Miseensonni mana sagadaa warra, "Namoota bil-
isooman" jedhamanii, jechuunis Yihuudoonni Qareenaa fi Iskindiriyaadhaa dhufan
akkasumas Yihuudoonni Kiilqiyaa fi Asiyaadhaa dhufan tokko tokko Isxifaanosiin
mormuu jalqaban. 10 Isaan garuu ogummaa isaa yookaan Hafuura Qulqulluu inni
ittiin dubbatu sanaan mormuu hin dandeenye.
11 Kanaafuu akka isaan, "Nu utuu Isxifaanos Musee fi Waaqa irratti dubbii arrabsoo
dubbatuu dhageenyeerra" jedhaniif dhoksaan namoota tokko tokko sossobatan.
12 Isaanis uummata, maanguddootaa fi barsiistota seeraa kakaasan. Isxifaanosiinis
qabanii fuula waldaa Yihuudootaa duratti isa dhi'eessan. 13 Dhuga baatota sobduus
qopheeffatan; isaanis akkana jedhan; "Namichi kun iddoo qulqulluu kanaa fi seeraan
mormuu takkumaa hin dhiifne. 14 Nu isaa, 'Yesuus namni Naazreeti kun iddoo kana
ni diiga; seera Museen nuu kennes ni geeddara' jedhu dhageenyeerra."
15 Warri waldaa sana keessa turan hundi ija babaasanii Isxifaanosin ilaalanii akka
fuuli isaa akkuma fuula ergamaa Waaqaa ta'e argan.

## 7

### *Haasaa Isxifaanos*

1 Lubni ol aanaanis, "Wanni kun dhugumaa?" jedhee isa gaafate.
2 Innis akkana jedhee deebise; "Yaa obbolootaa fi yaa abbootii, mee na dhaga'aa!
Waaqni ulfinaa, yeroo abbaan keenya Abrahaam Mesophotaamiyaa turetti, utuu inni
biyya Kaaraan hin dhaqin isatti mul'ate. 3 Waaqnis, 'Biyya keetii fi saba kee dhiisiitii
gara biyya ani si argisiisuu dhaqi'* jedheen.
4 "Innis biyya Kaldootaatii ba'ee dhaqee Kaaraan keessa jiraate. Erga abbaan
isaa du'e immoo Waaqni achii isa baasee biyya isin amma keessa jiraattan kanatti
isa erge. 5 Ta'us Waaqni dhaala tokko illee, lafa taakkuu tokkittii illee biyya sana
keessatti hin kennineef; garuu Waaqni akka Abrahaamii fi sanyii isaa warra isaan
booddeetiif biyya sana akkuma qabeenyaatti kennuuf waadaa galeef. Abrahaam
yeroo sana ijoollee tokko illee hin qabu ture. 6 Waaqni akkana jedhee karaa kanaan
isatti dubbate; 'Sanyiin kee biyya kan isaa hin ta'in keessatti alagaa ta'a; waggaa
dhibba afuris ni garboomfama; ni cunqurfamas.' 7 Waaqni akkana jedhe; 'Ani garuu
saba isaan akkuma garbootaatti tajaajilan sana nan adaba; ergasii immoo isaan
biyya sanaa ba'anii lafa kanatti na waaqeffatu.'† 8 Waaqnis kakuu dhagna qabaa
Abrahaamiif kenne; Abrahaamis abbaa Yisihaaq ta'ee guyyaa saddeettaffaatti dhagna
isa qabe; Yisihaaqis ergasii abbaa Yaaqoob ta'e; Yaaqoob immoo abbaa abbootii
gosoota kudha lamaanii ta'e.
9 "Abbootiin sunis waan Yoosefitti hinaafaniif akka inni biyya Gibxitti garba ta'uuf
isa gurguran; Waaqni garuu isa wajjin ture; 10 rakkina isaa hunda keessaa isa baase;
Waaqnis fuula Fara'oon mooticha Gibxi duratti ulfinaa fi ogummaa Yoosefiif kenne;
Fara'oonis biyya Gibxii fi mana mootummaa isaa hunda irratti bulchaa isa godhe.
11 "Baruma sana biyya Gibxii fi biyya Kana'aan hundatti beelli bu'ee rakkina
guddaa fide; abbootiin keenyas waan nyaatan tokko illee argachuu hin dandeenye.
12 Yaaqoobis akka Gibxi keessa midhaan jiru dhageenyaan yeroo jalqabaatiif abbootii

* **7:3** 7:3 Uma 12:1 † **7:7** 7:7 Uma 15:13,14

keenya achi erge. 13 Imala isaanii lammaffaa irrattis Yoosef eenyummaa isaa
obboloota isaatti hime; Fara'oonis waa'ee obboloota Yoosef beeke. 14 Yoosefis ergasii
nama ergee abbaa isaa Yaaqoobii fi maatii isaa hunda jechuunis walumatti qabaatti
nama 75 waamsise. 15 Yaaqoobis Gibxitti gad bu'e; innis, abbootiin keenyas achitti
du'an. 16 Reeffi isaaniis Sheekemitti geeffamee lafa awwaalaa kan Abrahaam ijoollee
Hamoori irraa horii wayiitiin bitee ture sanatti awwaalame.

17 "Akkuma yeroon waadaa Waaqni Abrahaamiif gale sun itti raawwatamu
dhi'aachaa dhufeen baay'inni saba keenyaa Gibxi keessatti akka malee guddate.
18 Ergasii 'Mootiin waa'ee Yoosef hin beekin haaraan tokko bulchaa Gibxi ta'e.'
19 Innis akka malee saba keenya cunqurse; abbootii keenyas akka daa'imman isaanii
dhumaniif akka isaan gad gatan dirqisiise.

20 "Yeroon Museen dhalates yeruma kana ture; innis fuula Waaqaa duratti
miidhagaa ture; ji'a sadiifis mana abbaa isaatti kunuunfamee guddate. 21 Yommuu
inni alatti gatametti intalli Fara'oon fudhattee akka ilma isheetti isa guddifatte.
22 Museen ogummaa warra Gibxi hunda barate; innis dubbii isaatii fi hojii isaatiin
jabaa ture.

23 "Museen yommuu umuriin isaa waggaa 40 guutetti dhaqee obboloota isaa
ijoollee Israa'el ilaaluu murteesse. 24 Museenis utuu namni Gibxi tokko nama isaanii
tokko miidhuu arge. Kanaafis nama isaanii gargaaruu dhaqee namicha Gibxi sana
ajjeesuun haaloo baaseef. 25 Museen waan sabni isaa akka Waaqni karaa isaatiin saba
Israa'el furu hubatu se'ee ture; sabni sun garuu hin hubanne. 26 Guyyaa itti aanutti
immoo utuu namoonni Israa'el lama wal lolanuu itti dhufee, 'Jarana, isin obboloota
walii ti; yoos maaliif wal miitu ree?' jedhee walitti araarsuu yaale.

27 "Namichi hiriyaa isaa miidhaa ture sun garuu Musee achi of irraa darbatee
akkana jedhe; 'Eenyutu nurratti bulchaa fi abbaa murtii si godhe? 28 Akkuma kaleessa
namicha Gibxi ajjeefte sana ana illee ajjeesuu barbaaddaa?'‡ 29 Museenis waan kana
dhageenyaan biyya Midiyaanitti baqatee galtuu ta'ee achi jiraate; achittis ilmaan
lama dhalche.

30 "Erga waggaan afurtamni darbee booddees ergamaan Waaqaa tokko gammoojjii
naannoo Tulluu Siinaa keessatti daggala boba'u keessaa arraba ibiddaa keessaan
Museetti mul'ate. 31 Innis waan kana arginaan waan arge sana dinqifate. Yommuu
ilaaluuf itti dhi'aatettis sagalee Gooftaa dhaga'e. 32 Sagaleen sunis, 'Ani Waaqa
abbootii keetii, Waaqa Abrahaam, kan Yisihaaqii fi kan Yaaqoob'§ jedheen. Museenis
ni hollate; ilaaluus ni sodaate.

33 "Gooftaan immoo akkana jedheen; 'Sababii iddoon ati dhaabatu kun qulqulluu
ta'eef kophee kee baafadhu. 34 Ani akka sabni koo biyya Gibxi keessatti cunqurfamaa
jiru dhugumaan argeera; boo'icha isaaniis dhaga'ee isaan bilisoomsuuf jedhee gad
bu'eera; egaa kottu Gibxittin deebisee si ergaatii.'*

35 "Namni isaan, 'Eenyutu bulchaa fi abbaa murtii si godhe?' jedhanii tuffatan
sun Museedhuma kana. Isas Waaqni akka inni bulchaa fi furaa isaanii ta'uuf harka
ergamaa Waaqaa kan daggala keessaan isatti mul'ate sanaatiin erge. 36 Innis Gibxi
keessatti, galaana diimaa irratti akkasumas waggaa 40 gammoojjii keessatti dinqii fi
mallattoo hojjechaa Gibxi keessaa isaan baase.

37 "Museen kun isuma saba Israa'eliitiin, 'Waaqni sabuma keessan keessaa raajii
akka kootii tokko isinii kaasa'† jedhe sanaa dha. 38 Innis, Ergamaa Waaqaa kan Tulluu
Siinaa irratti isatti dubbate sanaa fi abbootii keenya wajjin gammoojjii keessatti
waldaa keessa ture; dubbii jiraataas nutti kennuuf fudhate.

‡ **7:28** 7:28 Bau 2:14 § **7:32** 7:32 Bau 3:6 * **7:34** 7:34 Bau 3:5,7,8,10 † **7:37** 7:37 KeD 18:15

39 “Abbootiin keenya garuu isaaf ajajamuu didan; qooda ajajamuu isa tuffatanii
garaa isaaniitiinis gara Gibxitti deebi’an. 40 Arooniinis, ‘Waaqota nu dura deeman
nuu tolchi; Museen Gibxii nu baase sun maal akka ta’e hin beeknuutii!’‡ jedhan.
41 Yeroon isaan Waaqa tolfamaa bifa jabbiitiin qopheeffatanis baruma sana; isaanis
Waaqa sanaaf aarsaa dhi’eessanii waanuma harka isaaniitiin tolfame sanaaf ayyaana
ulfinaa ayyaaneffatan. 42 Waaqni garuu isaan irraa garagalee akka isaan humnoota
samii irraa waaqeffataniif isaan dhiise. Kunis waan kitaaba raajotaa keessatti
barreeffame sanaan wal fakkaata; innis akkana jedha;
“ ‘Yaa mana Israa’el isin waggaa afurtama gammoojjii keessatti
takkumaa aarsaa fi kennaa naaf fiddaniirtuu?
43 Isin fakkii waaqota waaqeffachuuf
tolfattanii jechuunis dunkaana Moolekiitii§ fi
urjii waaqa keessan Reefaan* ol qabdaniirtu.
Kanaafuu ani biyya Baabiloniin gamaattin isin ari’a.’†
44 “Abbootiin keenya gammoojjii keessatti dunkaana dhuga ba’umsaa of biraa
qabu turan. Dunkaanni sunis akkuma Waaqni akka Museen akkuma bifa arge
sanaatti hojjetuuf isa qajeelchetti hojjetamee ture. 45 Abbootiin keenyas dunkaanicha
fudhatanii biyya saba Waaqni isaan duraa ari’ee baase sanaatti Iyyaasuu wajjin
galan; dunkaanni sun hamma bara Daawitiitti biyya sana ture. 46 Daawitis fuula
Waaqaa duratti fudhatama argatee Waaqa Yaaqoobiitiif mana jireenyaa ijaaruuf
kadhate. 47 Garuu kan mana sana ijaareef Solomoon ture.
48 “Ta’us Waaqni Waan Hundaa Olii mana harki namaa ijaare keessa hin jiraatu;
kunis akkuma raajichi akkana jedhee dubbatee dha:
49 “ ‘Samiin teessoo koo ti;
laftis ejjeta miilla kootii ti.
Yoos isin mana akkamii naaf ijaartu ree?
jedha Gooftaan.
Yookaan lafti boqonnaa kootii eessa ta’a?
50 Waan kana hunda harki koo hin hojjennee?’‡
51 “Yaa namoota mata jabeeyyii nana! garaan keessan hin amanu; gurri keessanis
hin dhaga’u! Isin yeroo hunda Hafuura Qulqulluun mormitu; akkuma abbootiin
keessan godhan sana isinis gootu. 52 Raajiin abbootiin keessan hin ari’atin tokko
iyyuu jiraa? Isaan warra duraan dursanii dhufaatii isa qajeelaa sanaa himan illee
ni ajjeesan; isinis amma isa dabarsitanii kennitanii ajjeeftaniirtu; 53 warri karaa
ergamoota Waaqaatiin seera fudhattanii seera sanaaf ajajamuu diddanis isinuma.”

### *Isxifaanos Dhagaan Tumame*

54 Isaanis yommuu waan kana dhaga’anitti aariin guggubatanii isatti ciniinnatan.
55 Isxifaanos garuu Hafuura Qulqulluun guutamee gara samii ol ilaalee ulfina
Waaqaatii fi Yesuusinis isaa mirga Waaqaa dhaabatee jiru arge. 56 Innis, “Ani kunoo
samiin banamee, Ilma Namaas isaa mirga Waaqaa dhaabatee jiru nan arga” jedhe.
57 Kana irratti isaan hundi gurra isaanii qabatanii sagalee guddaan iyyaa isatti
girrisan. 58 Magaalaa keessaas gad isa baasanii dhagaan isa tumuu jalqaban. Yeroo
sana dhuga baatonni uffata isaanii miilla dargaggeessa Saa’ol jedhamu tokkoo jala
kaa’atan.
59 Isxifaanosis utuu isaan dhagaan isa tumaa jiranuu, “Yaa Gooftaa Yesuus, hafuura
koo fudhadhu” jedhee kadhate. 60 Jilbeenfatees sagalee guddaadhaan, “Yaa Gooftaa,

‡ **7:40** 7:40 Bau 32:1 § **7:43** 7:43 Moolek – waaqa tolfamaa warra Kana’aan kan waaqeffatamuu isaa keessa ijoollee gubanii aarsaa dhi’eessuunis jiru. * **7:43** 7:43 Reefaan – waaqa tolfamaa bara durii kan bulchaa pilaaneettii Saatarni jedhamuuti jedhamee waaqeffatamu. † **7:43** 7:43 Amo 5:25 ‡ **7:50** 7:50 Isa 66:1,2

cubbuu kana isaanitti hin lakkaa'in!" jedhee iyye; innis erga waan kana dubbatee
booddee ni du'e.

# 8

1 Saa'olis ajjeefamuu Isxifaanos irratti namootaan walii galee ture.

### *Ari'atama Waldaa Kiristaanaa*

Guyyuma sana waldaa Kiristaanaa ishee Yerusaalem jirtutti ari'atamni guddaan
ka'e; ergamoota malee warri kaan hundinuu biyya Yihuudaatii fi Samaariyaa
hunda keessa bibittinnaa'an. 2 Namoonni Waaqa sodaatanis Isxifaanosin awwaalan;
boo'icha guddaas boo'aniif. 3 Saa'ol garuu waldaa kiristaanaa balleessuu jalqabe;
innis mana tokko irraa gara mana biraa dhaqee dhiiraa fi dubartii lafa irra harkisee
mana hidhaatti galchaa ture.

### *Fiiliphoos Samaariyaa Keessatti*

4 Warri bittinnaa'an sun lafa dhaqan hundatti dubbii sana lallaban. 5 Fiiliphoosis
gara magaalaa Samaariyaa tokkootti gad bu'ee achitti Kiristoos lallabe. 6 Namoonni
sunis yommuu waan Fiiliphoos dubbatu dhaga'anii dinqii inni hojjetu arganitti hundi
isaanii qalbeeffatanii isa dhaga'an. 7 Hafuurri xuraa'aanis sagalee guddaan iyyee
nama hedduu keessaa ba'e; warri laamsha'anii fi warri naafatan baay'eenis ni
fayyan. 8 Kanaafis gammachuu guddaatu magaalaa sana keessatti ta'e.

### *Simoon Falfaltiicha*

9 Garuu yeroo sanaan dura namichi Simoon jedhamu tokko magaalaa sana
keessatti falfala hojjetee namoota Samaariyaa hunda dinqisiisaa ture; innis akka
waan nama guddaa ta'eetti of hedaa ture. 10 Namoonni hundinuu xinnaa guddaan
qalbii isaanii gara isaatti deebifatanii, "Namichi kun humna Waaqaa isa 'humna
guddaa' jedhamu sanaa dha" jedhanii isa saadan. 11 Namoonni sunis sababii inni
yeroo dheeraa falfala isaatiin isaan dinqisiiseef qalbii isaanii gara isaatti deebifatan.
12 Garuu yommuu Fiiliphoos wangeela waa'ee mootummaa Waaqaatii fi maqaa
Yesuus Kiristoos lallabetti amananii dhiiraa dubartiin cuuphaman. 13 Simoon mataan
isaa iyyuu amanee cuuphame. Innis mallattoo fi dinqii arge sana dinqifachaa
Fiiliphoos wajjin deeme.
14 Ergamoonni Yerusaalem turan akka warri Samaariyaa dubbii Waaqaa fudhatan
dhaga'anii Phexrosii fi Yohannisin isaanitti ergan. 15 Ergamoonni sunis yommuu
achi ga'anitti akka isaan Hafuura Qulqulluu argataniif ni kadhataniif; 16 Hafuuri
Qulqulluun isaan keessaa nama tokko irra illee hin buune tureetii; isaan maqaa
Gooftaa Yesuus qofaan cuuphamanii turan. 17 Phexrosii fi Yohannis harka isaanii
jara sana irra kakaa'an; isaanis Hafuura Qulqulluu argatan.
18 Simoon falfaltichis akka yeroo ergamoonni harka isaanii nama irra kaa'an
Hafuurri Qulqulluun namaa kennamu arginaan ergamootaaf horii kennee, 19 "Akka
namni ani harka irra kaa'u hundi Hafuura Qulqulluu argatuuf dandeettii kana anaaf
illee kennaa" jedheen.
20 Phexros garuu akkana jedhee deebiseef; "Sababii ati kennaa Waaqaa waan horiin
bitachuu dandeessu seeteef horiin kee suma wajjin haa badu! 21 Garaan kee fuula
Waaqaa duratti waan qajeelaa hin ta'iniif ati tajaajila kana keessatti qooda yookaan
carraa hin qabdu. 22 Kanaaf hammina kee kana irraa deebi'iitii gooftaa kadhadhu;
inni yaada garaa keetii kana siif dhiisa ta'aatii. 23 Ani akka ati yaada hadhaa'aan
guutamtee fi akka ati garbicha cubbuu taate nan arga."
24 Simoonis, "Akka wanni isin jettan kun tokko iyyuu narra hin geenyeef Gooftaa
naa kadhadhaa" jedhee deebise.

25 Phexrosii fi Yohannis erga dhugaa ba'anii dubbii Gooftaas labsanii booddee
gandoota Samaariyaa hedduu keessatti wangeela lallabaa Yerusaalemitti deebi'an.

### *Fiiliphoosii fi Namicha Itoophiyaa Tokko*

26 Ergamaan Gooftaa tokko Fiiliphoosiin, "Ka'iitii karaa Kibbaatiin gara daandii
Yerusaalemii ba'ee Gaazaatti gad bu'u sanaa dhaqi" jedhe; daandiin sunis daandii
gammoojjii ti. 27 Innis ka'ee deeme; karaa isaa irrattis xu'aashii Itoophiyaa tokko
jechuunis qondaalticha Kandakee mootittii saba Itoophiyaa kan qabeenya ishee
hunda irratti itti gaafatamaa ta'e arge; qondaalli sun sagaduuf jedhee Yerusaalem
dhaqee ture. 28 Innis yeroo biyya isaatti deebi'u gaarii isaa irra taa'ee kitaaba
Isaayyaas raajichaa dubbifachaa ture. 29 Hafuurri Qulqulluunis Fiiliphoosiin,
"Dhaqiitii gaarii sanatti dhi'aadhu" jedhe.
30 Fiiliphoosis gaarii sanatti fiigee utuu namichi sun kitaaba Isaayyaas raajichaa
dubbifatuu dhaga'ee, "Ati waan dubbiftu kana ni hubattaa?" jedhee gaafate.
31 Namichis, "Yoo namni naa hin ibsin ani akkamiin hubachuu danda'a?" jedhe.
Innis akka Fiiliphoos ol ba'ee isa bira taa'uuf waammate.
32 Kutaan kitaabaa kan xu'aashiin sun dubbisaa ture isa kana:

"Inni akkuma hoolaa iddoo qalmaatti geeffamee,
yookaan akkuma ilmoo hoolaa
kan fuula nama rifeensa irraa murmuruu duratti cal'isuu
akkasuma afaan isaa hin saaqqanne.
33 Inni cunqurfamuu isaatiin murtii qajeelaa dhowwatame;
eenyutu waa'ee sanyii isaa dubbachuu danda'a?
Jireenyi isaa lafa irraa fudhatameeraatii."*

34 Xu'aashiin sunis Fiiliphoosiin, "Raajiin sun waa'ee eenyuu dubbata? Waa'ee
mataa isaa moo waa'ee nama biraa ti? Maaloo mee natti himi!" jedhee gaafate.
35 Fiiliphoosis kutaadhuma kitaabaa sanaan afaan saaqatee oduu gaarii waa'ee
Yesuus isatti hime.
36 Isaanis utuu karaa deemanuu bishaanitti ba'an; xu'aashiin sunis, "Kunoo
bishaan as jira; yoos maaltu cuuphamuu na dhowwa ree?" jedheen. [ 37 Fiiliphoosis,
"Ati yoo garaa kee guutuun amante cuuphamuu ni dandeessa" jedheen. Namichis
deebisee, "Akka Yesuus Kiristoos ilma Waaqaa ta'e ani nan amana" jedhe.]†
38 Innis akka gaariin sun dhaabatu ajaje; isaan lamaanuu dhaqanii bishaan seenan;
Fiiliphoosis isa cuuphe. 39 Yommuu isaan bishaan keessaa ba'anittis Hafuurri Gooftaa
Fiiliphoosin fudhate; xu'aashiin sunis ergasii isa hin argine; garuu gammadaa karaa
isaa itti fufe. 40 Fiiliphoos immoo Azooxoonitti argame; innis hamma Qiisaariyaa
ga'utti magaalaawwan hunda keessatti wangeela lallabaa darbe.

# 9

### *Saa'ol Jijjiirame*
### *9:1-19 kwf – Hoj 22:3-16; 26:9-18*

1 Gidduudhuma sana Saa'ol barattoota Gooftaa ajjeesuuf dhaadachaa gara luba ol
aanaa dhaqee, 2 nama karaa kana irra jiru kam iyyuu dhiiras dubartiis yoo argate
akka hidhee Yerusaalemitti geessuuf akka lubni sun gara manneen sagadaa kanneen
Damaasqoo jiraniitti xalayaawwan isaaf barreessuuf isa kadhate. 3 Utuu inni deemaa
jiruu akkuma Damaasqootti dhi'aateen akkuma tasaa ifni tokko samii irraa naannoo
isaatti balaqqise. 4 Innis lafatti kufee sagalee, "Yaa Saa'ol, Yaa Saa'ol, ati maaliif na
ari'atta?" isaan jedhu tokko dhaga'e.
5 Saa'olis, "Yaa Gooftaa, ati eenyu?" jedhee gaafate.

---

* **8:33** 8:33 Isa 53:7,8 † **8:37** 8:37 Waraabbileen durii tokko tokko kutaa kana hin qaban.

Innis akkana jedhee deebiseef; “Ani Yesuus isa ati ari’attuu dha. Arfii wayii
dhiituun suma miidha. 6 Amma ka’ii magaalaa seeni; wanni ati gootu sitti
himamaatii” jedheen.
7 Namoonni Saa’ol wajjin deemaa turanis waan dubbatan dhabanii dhadhaabatan;
isaanis sagalee dhaga’an malee nama tokko illee hin argine. 8 Saa’olis lafaa ka’e; innis
yommuu iji isaa banametti homaa arguu hin dandeenye; isaanis harka isaa qabanii
Damaasqootti isa geessan. 9 Iji isaas Guyyaa sadii guutuu arguu hin dandeenye; innis
homaa hin nyaanne; homaas hin dhugne.
10 Damaasqoo keessa barataa Anaaniyaas jedhamu tokkotu ture. Gooftaanis
mul’ataan, “Yaa Anaaniyaas!” jedhee isa waame.
Innis, “Yaa Gooftaa, kunoo ani asin jira” jedhee deebise.
11 Gooftaanis akkana jedheen; “Ka’ii gara daandii ‘Qajeelaa’ jedhamu sanaa mana
Yihuudaa dhaqiitii nama Saa’ol jedhamu kan Xarseesii dhufe tokko iyyaafadhu; inni
kadhannaa irra jiraatii. 12 Saa’olis nama Anaaniyaas jedhamu tokko isaa dhufee akka
agartuun isaa deebi’uufiif harka isa irra kaa’u mul’ataan arge.”
13 Anaaniyaasis deebisee akkana jedhe; “Yaa Gooftaa, ani waa’ee namicha kanaa,
miidhaa inni qulqulloota kee warra Yerusaalem jiraatan irratti hojjete hundumaa
dhaga’eera. 14 Ammas warra maqaa kee waammatan hunda hidhuuf jedhee luboota
hangafoota irraa aangoo fudhatee dhufeera.”
15 Gooftaan garuu Anaaniyaasiin akkana jedhe; “Namichi kun mi’a koo kan ani
akka inni namoota Ormaatii fi mootota isaanii duratti, saba Israa’el durattis maqaa
koo baatuuf jedhee filadhe waan ta’eef ka’ii dhaqi! 16 Ani akka inni maqaa kootiif
jedhee rakkachuu qabu isattin argisiisa.”
17 Anaaniyaasis dhaqee mana sana seene. Harka isaas Saa’ol irra kaa’ee, “Yaa
obboleessa koo Saa’ol, Gooftaa Yesuus inni utuu ati as dhuftuu karaa irratti sitti
mul’ate sun akka ati argituu fi akka ati Hafuura Qulqulluun guutamtuuf na ergeera”
jedhe. 18 Yommusuma wanni akka qolaa ija Saa’ol irraa harca’e; inni ammas arguu
danda’e. Ka’ees cuuphame. 19 Nyaatas nyaatee jajjabaate.

### *Saa’ol Damaasqoo fi Yerusaalemitti Lallabe*

Saa’ol bultii gabaabduudhaaf barattoota Damaasqoo jiran bira bubbule. 20 Innis
akka Yesuus ilma Waaqaa ta’e yeruma sana manneen sagadaa keessatti lallabuu
jalqabe. 21 Warri isa dhaga’an hundinuus dinqifatanii akkana jedhan; “Namichi kun
isuma Yerusaalem keessatti warra maqaa kana waammatan balleesse sana mitii?
Ammas hidhee luboota hangafootatti isaan geessuuf dhufe mitii?” 22 Saa’ol garuu
ittuma jabaachaa deeme; innis akka Yesuus kun Kiristoos* ta’e mirkaneessuudhaan
Yihuudoota Damaasqoo keessa jiraatan afaan qabachiise.
23 Erga guyyaan hedduun darbee booddees Yihuudoonni isa ajjeesuuf mari’atan.
24 Saa’ol garuu marii isaanii kana beeke; isaanis isa ajjeesuuf jedhanii halkanii guyyaa
balbala magaalaa sanaa jabeessanii eegaa turan. 25 Barattoonni isaa garuu halkaniin
fuudhanii guuboodhaan dallaa irraan dabarsanii gad isa buusan.
26 Innis yommuu gara Yerusaalem dhufetti barattootatti dabalamuu yaale; isaanis
waan barataa ta’uu isaa hin amaniniif hundi isaanii isa sodaatan. 27 Barnaabaas
immoo fuudhee ergamootatti isa geesse; akka Saa’ol itti karaatti gooftaa arge, akka
itti gooftaan isatti dubbatee fi akka inni sodaa malee Damaasqoo keessatti maqaa
Yesuusiitiin lallabe isaanitti hime. 28 Saa’olis isaan wajjin jiraatee Yerusaalem keessa
sodaa malee ba’ee galaa ture; maqaa Gooftaatiinis ija jabinaan lallabe. 29 Yihuudoota
Giriikota keessa jiraatan wajjinis dubbachaa isaaniinis morkachaa ture; isaan garuu

* **9:22** 9:22 yookaan Masiihii

isa ajjeesuu barbaadan. 30 Obboloonnis yommuu waan kana beekanitti fuudhanii
Qiisaariyaatti gad isa buusan; gara Xarsees isa ergan.

31 Kanaafis waldaan kiristaanaa Yihuudaa, Galiilaa fi Samaariyaa keessa jirtu
guutummaatti nagaa argatte; ni cimtes. Isheenis Hafuura Qulqulluudhaan jajjabaatee
sodaa Gooftaatiin jiraachuudhaan baay'inaan guddachaa deemte.

### *Eeniyaa fi Doorqaa*

32 Phexros utuu biyya sana keessa naanna'aa jiruu qulqulloota Liidaa keessa
jiraatan ilaaluuf gad bu'e. 33 Achittis namicha laamsha'aa Eeniyaa jedhamu kan
waggaa saddeeti siree irratti hafee ture tokko arge. 34 Phexrosis, “Yaa Eeniyaa, Yesuus
Kiristoos si fayyisa; ka'iitii siree kee afadhu” jedheen. Eeniyaanis yommusuma
ka'e. 35 Namoonni Liidaa fi Shaaroon keessa jiraatan hundinuu isa arganii Gooftaatti
deebi'an.

36 Yoophee keessas barattuu Xaabiitaa jedhamtu tokkotu ture; Xaabiitaa jechuun
Doorqaa jechuu dha. Isheenis yeroo hunda waan gaarii hojjetti; hiyyeeyyiis ni
gargaarti turte. 37 Isheenis baruma sana keessa dhukkubsattee duute; reeffa ishees
dhiqanii kutaa darbii tokko keessa kaa'an. 38 Liidaan kun Yoopheetti dhi'oo turte;
barattoonnis yommuu akka Phexros Liidaa jiru dhaga'anitti nama lama isatti erganii,
“Maaloo dafii nu bira ga'i!” jedhanii isa kadhatan.

39 Phexrosis ka'ee isaan wajjin deeme; akkuma inni achi ga'eenis gara kutaa darbii
sanaatti isa geessan. Haadhonni hiyyeessaa hundinuu isa bira dhaabatanii kootii fi
wayyaa biraa kan Doorqaan yeroo isaan wajjin turte hojjette sana isatti argisiisanii
boo'aa turan.

40 Phexrosis hunda isaanii gad baasee jilbeenfatee Waaqa kadhate; reeffa sanattis
garagalee, “Xaabiitaa ka'i!” jedhe. Isheenis ija ishee banattee Phexrosin argite;
kaatees ni teesse. 41 Innis harka qabee ishee kaase; amantootaa fi haadhota
hiyyeessaa waamee jiraattuu taatee isaan fuuldura dhaabe. 42 Kunis Yoophee hunda
keessatti beekame; namoonni baay'eenis Gooftaatti amanan. 43 Phexrosis Yoophee
keessa gogaa duugduu Simoon jedhamu tokko bira guyyaa hedduu ture.

## 10

### *Qorneelewoos Phexrosin Waame*

1 Namichi Qorneelewoos jedhamu tokko Qiisaariyaa keessa ture; innis ku-
taa, “Humna waraana Iixaaliyaa” jedhamu keessatti ajajaa dhibbaa ture.
2 Qorneelewoosii fi maatiin isaa hundinuu warra Waaqaaf bulanii fi warra Waaqa
sodaatan turan; innis warra rakkataniif arjummaadhaan kenna ture; yeroo hundas
Waaqa kadhata ture. 3 Innis gaafa tokko ergamaa Waaqaa tokko isaa gara isaa
dhufee, “Yaa Qorneelewoos!” jedhuun guyyaa keessaa gara sa'aatii sagaliitti ifaan
ifatti mul'ataan arge.

4 Qorneelewoosis sodaan ija babaasee isa ilaalee, “Yaa Gooftaa, maal barbaadda?”
jedhee gaafate.

Ergamaan Waaqaa sun immoo akkana jedhee deebise; “Kadhannaa keetii fi
kennaan ati hiyyeeyyiidhaaf kennitu aarsaa yaadachaa ta'ee fuula Waaqaa duratti
ol ba'eera. 5 Amma Yoopheetti nama ergiitii Simoon isa Phexros jedhamu sana as
fichisiisi. 6 Innis namicha gogaa duugu kan Simoon jedhamu kan manni isaa qarqara
galaanaatti argamu tokko bira jira.”

7 Qorneelewoosis yommuu ergamaan Waaqaa kan isatti dubbate sun deemetti
tajaajiltoota isaa keessaa nama lama, warra isa eegan keessaa immoo loltuu Waaqaaf
bulu tokko waamee, 8 waan kana hunda itti himee Yoopheetti isaan erge.

### *Mul'ata Phexros Arge Tokko*
### *10:9-32 kwi – Hoj 11:5-14*

9 Guyyaa itti aanuttis utuu warri ergaman sun karaa jiranuu, yeroo isaan
magaalaatti dhi'aatanitti Phexros gara sa'aatii ja'aatti kadhannaaf bantii manaatti
ol ba'e. 10 Innis beela'ee waan nyaatu barbaade; utuu isaan qopheessaafii jiranuus
akka waan yaadaan fudhatamee ta'e. 11 Samii banamee fi waan akka wayyaa bal'aa
tokkos isaa roga isaa afraniin qabamee lafatti gad buufamu arge. 12 Wayyaan sunis
bineensota miilla afurii, uumamawwan lafa irra loo'anii fi simbirroota samii kanneen
gosa hundaa of keessaa qaba ture. 13 Sagaleen tokkos, "Yaa Phexros, ka'iitii qaladhuu
nyaadhu" jedheen.
14 Phexros garuu deebisee, "Yaa Gooftaa, hin ta'u! Ani takkumaa waan balfamaa
yookaan waan xuraa'aa hin nyaanne" jedhe.
15 Sagaleen sunis yeroo lammaffaa, "Ati waan Waaqni qulqulleesseen xuraa'aa hin
jedhin" jedheen.
16 Wanni kunis yeroo sadii ta'e; wayyaan sunis yommusuma deebi'ee samiitti ol
fudhatame.
17 Utuu Phexros waa'ee hiikkaa mul'ata sanaa dinqisiifachaa jiruus namoonni
Qorneelewoos erge sun mana Simoon iyyaafachaa dhufanii karra dura dhaabatan.
18 Isaanis lallabanii, "Simoon inni Phexros jedhamu tokko as jiraa?" jedhanii
gaafatan.
19 Ammas utuu Phexros waa'ee mul'ata sanaa yaadaa jiruu, Hafuurri Qulqulluun
akkana isaan jedhe; "Yaa Simoon, kunoo namoonni sadii si barbaaduutti jiru.
20 Ka'iitii gad bu'i. Isaan wajjin deemuus hin shakkin; anatu isaan ergeetii."
21 Phexrosis gara namoota sanaatti gad bu'ee, "Namni isin barbaadaa jirtan ana;
maaliif dhuftani?" jedheen.
22 Jarri sunis akkana jedhanii deebisan; "Nu ajajaa dhibbaa kan Qorneelewoos
jedhamu tokko biraa dhufne; inni nama qajeelaa fi nama Waaqa sodaatu kan
Yihuudoota hunda birattis kabajamuu dha; ergamaan Waaqaa qulqulluun tokko akka
inni mana isaatti si waamsisee waan ati jettu dhaga'uuf isatti dubbate." 23 Phexrosis
namoota sana manatti ol galchee keessumsiise.

### *Phexros mana Qorneelewoos Dhaqe*

Guyyaa itti aanutti Phexros ka'ee isaan wajjin deeme; obboloonni tokko tokkos
Yoopheedhaa ka'anii isa wajjin deeman. 24 Isaanis guyyaa itti aanu Qiisaariyaatti
galan; Qorneelewoosis firoota isaatii fi michoota isaa warra isatti dhi'aatan walitti
waamee isaan eegaa ture. 25 Akkuma Phexros mana seeneen Qorneelewoos isa
simatee isaaf sagaduuf jedhee miilla isaa irratti kufe. 26 Phexros garuu, "Ka'i! Anis
namumaatii" jedhee ol isa qabe.
27 Phexrosis isa wajjin dudubbachaa mana seenee namoota walitti qabaman
hedduu arge. 28 Innis akkana isaaniin jedhe; "Akka Yihuudiin tokko nama ormaa
wajjin tokkummaa qabaachuu fi itti dhi'aachuun seera keenya hin ta'in isin mataan
keessan iyyuu beektu; garuu Waaqni akka ani nama tokkoonuu jibbamaa yookaan
xuraa'aa hin jenne natti argisiiseera. 29 Kanaaf yommuu isin nama natti ergitanitti
ani mormii tokko malee dhufe; egaa waan isin na waamtaniif beekuu nan barbaada."
30 Qorneelewoosis akkana jedhee deebise: "Bultii afuriin dura, sa'aatiidhuma
kanatti, ani sa'aatii sagalitti mana kootti kadhachaan ture. Akkuma tasaa namichi
wayyaa adii qaanqee uffatu tokko na dura dhaabatee 31 akkana jedhe; 'Yaa
Qorneelewoos, Waaqni kadhannaa kee dhaga'eera; kennaa ati hiyyeeyyiif kennitus
yaadateera. 32 Yoopheetti nama ergiitii Simoon isa Phexros jedhamu sana waamsisi.
Inni mana Simoon namicha gogaa duugu kan qarqara galaanaa jiraatu sanaa jira.'

33 Kanaaf ani yeruma sana nama ergeen si waamsise; atis baga dhufte. Egaa nu
hundinuu waan akka ati nutti himtu Gooftaan si ajaje hunda dhaga’uuf jennee as
fuula Waaqaa dura jirra.”
34 Phexrosis akkana jedhee dubbachuu jalqabe; “Ani amma akka Waaqni nama
Wal hin caalchifne dhugumaan nan hubadha. 35 Garuu saba hundumaa keessaa
namni isa sodaatuu fi namni waan qajeelaa hojjetu kam iyyuu fuula isaa duratti
fudhatamaa dha. 36 Isin ergaa Waaqni karaa Yesuus Kiristoosiin nagaa labsuudhaan
saba Israa’elitti erge sana beektu; Yesuus Kiristoos kun Gooftaa waan hundaa ti.
37 Isin waan Cuuphaa Yohannis lallabee booddee Galiilaadhaa jalqabee Yihuudaa
hunda keessatti ta’e sana ni beektu. 38 Kunis akka Waaqni Yesuus nama Naazreeti
sana Hafuura Qulqulluu fi humnaan dibee fi akka Yesuus waan gaarii hojjechaa fi
warra humna diiyaabiloos jala turan fayyisaa biyya hunda keessa nanaanna’ee dha;
Waaqni isa wajjin tureetii.
39 “Nus waan inni biyya Yihuudootaatii fi Yerusaalem keessatti hojjete hundaaf
dhuga baatota. Isaanis fannoo irratti fannisanii isa ajjeesan. 40 Waaqni immoo
guyyaa sadaffaatti warra du’an keessaa isa kaase; akka inni namatti mul’atus godhe.
41 Inni nama hundatti hin mul’anne; garuu nu dhuga baatota Waaqni duraan dursee
filatettii fi erga inni warra du’an keessaa ka’ee booddee isa wajjin nyaannee dhugnetti
mul’ate. 42 Innis akka nu namootatti lallabnuu fi akka inni nama Waaqni warra
jiranii fi warra du’an irratti abbaa murtii godhee muude ta’e akka dhugaa baanuuf nu
ajaje. 43 Raajonni hundinuu akka namni isatti amanu hundi maqaa isaatiin dhiifama
cubbuu argatu waa’ee isaa dhugaa ba’u.”
44 Utuma Phexros amma illee waan kana dubbachaa jiruu, Hafuurri Qulqulluun
warra dubbii sana dhaga’aa turan hunda irra bu’e. 45 Amantoonni dhagna qabatan
kanneen Phexros wajjin dhufan sun waan kennaan Hafuura Qulqulluu Namoota
Ormaa irrati illee dhangala’eef ni dinqifatan; 46 isaan jaraa afaan haaraa dubbatanii
fi Waaqas jajatan dhaga’aniiruutii.
Phexrosis akkana jedhe; 47 “Akka namoonni akkuma keenya Hafuura Qulqulluu
argatan kunneen hin cuuphamneef namni bishaan dhowwachuu danda’u eenyu?”
48 Innis akka isaan maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphaman ajaje; isaanis akka Phexros
bultii xinnoo isaan bira turuuf isa kadhatan.

# 11

*Phexros Waan Hojjete Gabaase*

1 Ergamoonnii fi obboloonni Yihuudaa keessa jiran akka Namoonni Ormaas dubbii
Waaqaa fudhatan dhaga’an. 2 Kanaaf yommuu Phexros Yerusaalemitti ol ba’etti
amantoonni dhagna qabatan isaan morman; 3 akkanas jedhan; “Ati maaliif mana
namoota dhagna hin qabatinii dhaqxee isaan wajjin nyaatte?”
4 Phexrosis akkana jedhee waan ta’e sana tokko tokkoon isaanii ibsuu jalqabe.
5 “Ani magaalaa Yoophee keessatti kadhannaa irran ture; akka waan yaadaan
fudhatamuus ta’ee waan akka wayyaa bal’aa tokko isaa roga isaa afraniin qabamee
samii irraa gad buufamu mul’ataan arge. Innis iddoo ani turetti gad dhufe. 6 Anis
xiyyeeffadhee ilaalee bineensota miilla afurii, bineensota bosonaa, uumamawwan
lafa irra loo’anii fi simbirroota samii nan arge. 7 Anis sagalee, ‘Yaa Phexros, ka’iitii
qaladhuu nyaadhu’ naan jedhu tokkon dhaga’e.
8 “Ani garuu deebisee, ‘Yaa Gooftaa, hin ta’u! Takkumaa wanni balfamaan yookaan
wanni xuraa’aan tokko iyyuu afaan koo hin seenne’ jedhe.
9 “Sagaleen sunis yeroo lammaffaa samii irraa, ‘Ati waan Waaqni qulqulleesseen
xuraa’aa hin jedhin’ jedhe. 10 Wanni kunis yeroo sadii ta’e; kana booddees hundumti
isaa amma illee samiitti ol fudhatame.

[11] “Yommusuma namoonni Qiisaariyaadhaa natti ergaman sadii mana ani jiraachaa
ture sana dura dhaabatan. [12] Hafuurri Qulqulluunis akka ani shakkii tokko malee
isaan wajjin deemu natti hime. Obboloonni kunneen ja’aanis na wajjin deeman; nus
mana namichaa ol seenne. [13] Innis akka ergamaa Waaqaa kan mana isaa keessatti itti
mul’ate tokko arge nutti hime; ergamaan sunis akkana isaan jedhe; ‘Yoopheetti nama
ergiitii Simoon isa Phexros jedhamu sana waamsisi; [14] inni ergaa sii fi namoonni
mana keetii hundinuu ittiin fayyitan sitti hima.’
[15] “Akkuma ani dubbachuu jalqabeen, Hafuurri Qulqulluun akkuma jalqabatti
nurra bu’e sana isaan irras bu’e. [16] Anis waan Gooftaan, ‘Yohannis bishaaniin
cuuphe; isin garuu Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamtu’ jedhee ture sana nan
yaadadhe. [17] Kanaafuu erga Waaqni kennaadhuma yeroo nu gooftaa Yesuus
Kiristoositti amanne nuu kenne sana isaaniifis kennee Waaqaan mormuuf ani
eenyu?”
[18] Isaanis waan kana dhaga’anii cal’isan; “Yoos Waaqni qalbii jijjiirratanii jiraachuu
Namoota Ormaatiifis kenneera” jedhanii Waaqa galateeffatan.

### *Waldaa Kiristaanaa Anxookiiyaa*

[19] Warri sababii ari’atama Isxifaanositti ka’eetiin bittinnaa’anii turan sun ergaa
sana Yihuudoota qofatti himaa hamma Finiiqee, Qophiroosii fi Anxookiiyaatti
deeman. [20] Isaan keessaa namoonni Qophiroosii fi Qareenaa irraa dhufan tokko
tokko garuu Anxookiiyaa dhaqanii oduu gaarii waa’ee Gooftaa Yesuus Giriikotattis
himuu jalqaban. [21] Harki Gooftaa isaan wajjin ture; namoonni hedduunis amananii
Gooftaatti deebi’an.
[22] Oduun kunis gurra waldaa kiristaanaa ishee Yerusaalem jirtuu seene; isaanis
Barnaabaasin Anxookiiyaatti ergan. [23] Innis yommuu achi ga’ee Ayyaana Waaqaa
argetti ni gammade; akka isaan garaa tokkoon Gooftaaf amanamanii jiraataniifis
isaan hunda jajjabeesse. [24] Inni nama gaarii Hafuura Qulqulluu fi amantiidhaan
guutame ture; namoonni baay’eenis Gooftaatti dabalaman.
[25] Barnaabaasis Saa’olin barbaaduuf jedhee Xarsees dhaqe; [26] Yommuu isa argettis
Anxookiiyaatti isa geesse. Isaanis waggaa tokko guutuu waldaa sanaan wal
ga’anii namoota baay’ee barsiisan. Barattoonnis yeroo jalqabaatiif Anxookiiyaatti,
“Kiristaana” jedhaman.
[27] Gidduudhuma sana raajonni tokko tokko Yerusaalemii ka’anii Anxookiiyaatti
gad bu’an. [28] Isaan keessaas namichi Agaaboos jedhamu tokko ka’ee dhaabatee
akka beelli guddaan isaa addunyaa hunda irratti bu’u Hafuuraan dubbate. Wanni
kunis bara mo’umsa Qilaawudewoos Qeesaar keessa ta’e. [29] Barattoonnis tokkoon
tokkoon isaanii akkuma dandeettii isaaniitti obboloota Yihuudaa keessa jiraatan
gargaaruu murteessan. [30] Isaanis harka Barnaabaasii fi harka Saa’olitti gargaarsa
isaanii maanguddootaatti erguun gargaarsa kennan.

# 12

### *Phexros Dinqiidhaan Mana Hidhaatii Ba’e*

[1] Baruma sana keessa Heroodis mootichi isaan ari’achuuf jedhee miseensota
waldaa kiristaanaa tokko tokko qabe. [2] Innis Yaaqoob obboleessa Yohannis goraadeen
ajjeese. [3] Yommuu akka wanni kun Yihuudoota gammachiise argettis, ittuma
fufee Phexrosinis qabsiise. Wanni kunis yeroo Ayyaana Maxinoo keessa ta’e.
[4] Erga isa qabee booddee akka isaan isa eeganiif jedhee gareewwan loltootaa afur
kanneen tokkoon tokkoon isaanii loltoota afur afur of keessaa qabanitti dabarsee
isa kennuudhaan, mana hidhaa keessa isa buuse; kanas ayyaana Faasiikaa booddee
fuula uummataa duratti dhi’eessee isa qoruuf godhe.

5 Kanaafuu Phexros mana hidhaa keessatti eegamaa ture; waldaan kiristaanaa
garuu jabeessitee waa'ee isaatiif Waaqa kadhachaa turte.

6 Edumtii guyyaa Heroodis itti Phexrosin dhi'eessuuf ture sanaa Phexros foncaa
lamaan hidhamee loltoota lama gidduu rafaa ture; loltoonni kaanis balbala dura
dhaabatanii mana hidhaa sana eegaa turan. 7 Akkuma tasaas, ergamaan Gooftaa
tokko mul'ate; kutaa mana hidhaa sana keessattis ifni ife; ergamaan sunis cinaacha
Phexros tuqee isa dammaqsuudhaan, "Dafii ka'i!" jedheen. Foncaan sunis harka isaa
irraa harca'e.
8 Ergamaan Waaqaa sunis, "Uffata kee uffadhu; kophee kees kaa'adhu" jedheen.
Phexrosis akkasuma godhe. Ergamaan sunis, "Wayyaa kee marxifadhuutii na faana
bu'i" jedheen. 9 Phexrosis isa duukaa bu'ee mana hidhaatii ba'e; innis waan mul'ata
argu se'e malee akka wanni ergamaan Waaqaa hojjechaa ture sun dhugaa ta'e hin
beekne. 10 Isaanis waardiyyaa duraatii fi isa lammaffaa bira darbanii balbala sibiilaa
kan magaalaatti gad baasu bira ga'an; balballi sunis ofumaan banameef; isaanis gad
ba'anii utuu daandii tokko irra gad bu'aa jiranuu ergamaan sun isa biraa sokke.

11 Phexrosis qalbii isaatti deebi'ee, "Ani amma akka Gooftaan ergamaa isaa ergee
harka Heroodisii fi waan Yihuudoonni natti yaadaa turan hunda jalaa na baase
shakkii malee beekeera" jedhe.

12 Innis erga waan kana hubatee booddee mana Maariyaam haadha Yohannis isa
Maarqos jedhamu sanaa iddoo itti namoonni baay'een walitti qabamanii kadhachaa
turan dhaqe. 13 Yommuu Phexros balbala alaa rurrukutetti intalli hojjettuun Roodaa
jedhamtu tokko ilaaluu dhufte. 14 Isheenis yommuu sagalee Phexros hubattetti akka
malee gammadde; balbala banuu dhiiftees fiigdee ol deebitee akka Phexros balbala
dura dhaabatu himte.
15 Isaanis, "Ati maraatteerta!" jedhaniin; isheen garuu cimsitee akka wanni kun
akkasuma ta'e dubbatte; isaan immoo, "Yoos ergamaa isaa ti!" jedhan.

16 Phexros garuu ittuma fufee balbalicha rurrukute; isaanis yommuu bananitti, isa
arganii dinqifatan. 17 Phexrosis akka isaan cal'isaniif harkaan itti hime; akka itti
Gooftaan mana hidhaatii isa baases isaanitti odeesse; innis, "Waan kana Yaaqoobii fi
obbolootatti himaa" isaaniin jedhe; achii ka'ees lafa biraa dhaqe.

18 Yommuu bari'etti raafamni guddaan isaa loltoota gidduutti uumame; isaanis,
"Phexros maal ta'e?" jedhanii wal gaggaafatan. 19 Heroodisis cimsee barbaadee isa
dhabnaan eegdota sana jabeessee qoree akka isaan ajjeefaman ajaje.

### *Du'a Heroodis*

Heroodis Yihuudaadhaa ka'ee Qiisaariyaatti gad bu'ee xinnoo achi jiraate. 20 Innis
warra Xiiroosii fi Siidoonaatti akka malee aare; isaanis tajaajilaa mootichaa
amanamaa Bilaasxoos jedhamu tokko michoomfatanii tokkummaan gara mootichaa
dhaqanii araara kadhatan; biyyi isaanii biyya mooticha sanaa irraa midhaan nyaataa
argachaa jiraatteetii.

21 Guyyaa beellamaattis Heroodis uffata mootii uffatee teessoo isaa irra taa'e;
uummatattis dubbate. 22 Namoonnis, "Kun sagalee Waaqaati malee sagalee namaa
miti" jedhanii iyyan. 23 Heroodisis waan Waaqaaf ulfina hin kenniniif yeruma sana
ergamaan Waaqaa tokko isa dha'e; innis raammoodhaan nyaatamee du'e.

24 Dubbiin Waaqaa garuu ittuma fufee guddachaa, babal'achaas deeme.

### *Barnaabaasii fi Saa'ol Geggeeffaman*

25 Barnaabaasii fi Saa'ol erga ergama isaanii fixatanii booddee Yohannis isa
Maarqos jedhamu sana fudhatanii Yerusaalemii deebi'an.

# 13

*Barnaabaasii fi Saa'ol Ergaman*

1 Waldaa kiristaanaa Anxookiiyaa keessa Raajotaa fi barsiistotatu ture; isaanis
Barnaabaas, Simi'oon isa Niiger jedhamu, Luukiyoos nama Qareenaa, Maanaa'en isa
Heroodis bulchaa sana wajjin guddatee fi Saa'ol fa'a. 2 Utuu isaan Gooftaa tajaajilaa,
soomaas jiranuu Hafuurri Qulqulluun, "Barnaabaasii fi Saa'olin hojii ani itti isaan
waammadheef naa filaa" jedhe. 3 Kanaaf isaan erga soomanii kadhatanii booddee
harka isaanii jara irra kaa'anii isaan ergan.

*Barnaabaasii fi Saa'ol Qophiroositti Lallaban*

4 Isaan lachuu Hafuura Qulqulluudhaan ergamanii Seluuqiyaatti gad bu'an; achiis
ka'anii dooniin Qophiroos dhaqan. 5 Yommuu Salaamiis ga'anittis manneen sagadaa
Yihuudootaa keessatti dubbii Waaqaa lallaban; Yohannisis isaan gargaaruuf isaan
bira ture.
6 Isaanis yommuu biyyoota bishaaniin marfaman sana hundumaa keessa ba'anii
hamma Phaafoositti dhufanitti, Yihuudii falfaltichaa fi raajii sobaa kan maqaan isaa
Baaryesuus jedhamu tokkotti dhufan. 7 Innis namicha hubataa bulchaa biyyaa ta'e
kan Sergiyoos Phaawulos jedhamu tokko wajjin ture. Bulchaan sunis waan dubbii
Waaqaa dhaga'uu barbaadeef nama ergee Barnaabaasii fi Saa'olin waamsifate.
8 Eliimaas falfaltichi kan hiikkaan maqaa isaa afaan Giriikiin akkasuma ta'e sun
garuu bulchaa biyyaa sana amantii irraa deebisuuf jedhee isaaniin morme. 9 Saa'ol
inni Phaawulos jedhamu sun garuu Hafuura Qulqulluudhaan guutamee Eelimaasin
hubatee ilaalee akkana jedheen; 10 "Ati ilma diiyaabiloosii fi diina qajeelummaa
hundaa ti! Sobaa fi gowwoomsaa gosa hundaatiinis guutamteerta. Ati karaa Gooftaa
isa qajeelaa sana jal'isuu hin dhiiftuu? 11 Kunoo amma harki Gooftaa sitti ka'eera;
atis jaamtee yeroof ifa aduu arguu ni dadhabda."
Yeruma sana hurrii fi dukkanni isa irra bu'e; innis nama harka qabee isa qajeelchu
barbaaduu jalqabe. 12 Bulchaan biyyaa sunis waan kana arginaan amane; barsiisa
waa'ee Gooftaa dinqifatee tureetii.

*Phaawulosii fi Barnaabaas Phisiidiyaa Keessatti*

13 Phaawulosii fi miiltonni isaa Phaafoosii bidiruudhaan ka'anii Phergeen ishee
Phamfiliyaa sana dhaqan; Yohannisis achitti isaan dhiisee Yerusaalemitti deebi'e.
14 Isaan garuu Phergeenii ka'anii gara Anxookiiyaa ishee Phisiidiyaatti argamtuu
dhufan; guyyaa Sanbataas mana sagadaa seenanii tataa'an. 15 Bulchitoonni mana
sagadaa sanaas erga kitaabonni Seeraatii fi Raajotaa dubbifamanii booddee nama
isaanitti erganii, "Yaa obboloota, yoo dubbii gorsaa uummataaf qabaattan mee
dubbadhaa" jedhaniin.
16 Phaawulos ka'ee dhaabatee harkaan mallattoo argisiisee akkana jedhe; "Yaa
namoota Israa'el, isin warri Waaqa sodaattanis mee na dhaga'aa! 17 Waaqni saba
Israa'el abbootii keenya filate; innis yeroo isaan biyya Gibxi jiraachaa turanitti
sabicha saba guddaa godhe; irree jabaanis achii isaan baase; 18 gammoojjii keessattis
gara waggaa afurtamaa isaanii obse. 19 Biyya Kana'aan keessaas saboota torba
balleessee lafa isaanii akka dhaalaatti saba isaatiif kenne. 20 Wanni kun hundinuu
gara waggaa 450 fudhatte.
"Kana booddees Waaqni hamma bara Saamu'eel raajichaatti abbootii murtii
isaaniif kenne. 21 Yommuu isaan akka inni mootii kennuufiif isa kadhatanitti Waaqni
gosa Beniyaam keessaa Saa'ol ilma Qiishi isaaniif kenne; Saa'olis waggaa 40 isaan
bulche. 22 Waaqni Saa'olin mootummaa irraa buusee Daawitin mootii isaanii godhe;
innis, 'Ani nama akka garaa koo Daawit ilma Isseey argadheera; inni waan ani akka
inni hojjetu fedhu hunda ni hojjeta' jedhee waa'ee Daawit rageesseera.

23 “Waaqnis akkuma abdachiise sana, sanyii nama kanaa keessaa Yesuus fayyisaa
saba Israa’eliif fide. 24 Yohannis dhufaatii Yesuus duratti cuuphaa qalbii jijjiirrannaa
saba Israa’el hundumatti lallabee ture. 25 Yohannisis utuu ergama isaa guutachaa
jiruu, ‘Isin eenyu na seetu? Ani isa isin eeggachaa jirtan miti. Garuu namni ani
kophee isaa illee hiikuu hin malle tokko na duubaan ni dhufa’ jedhe.

26 “Obboloota, yaa ijoollee Abrahaam, isin warri Waaqa sodaattanis, dubbiin
fayyina kanaa nuu ergame. 27 Warra Yerusaalem keessa jiraatanii fi bulchitoonni
isaanii waan Yesuusin hin beekiniif yookaan dubbii raajotaa isa Sanbata Sanbata
dubbifamu waan hin hubatiniif isatti muruudhaan dubbii raajotaa sana guutan.
28 Isaanis yoo sababii du’a isatti mursiisuu danda’u argachuu baatan illee akka Yesuus
ajjeefamuuf Phiilaaxoosin kadhatan. 29 Erga waan waa’ee isaa barreeffame hunda
guutatanii booddees fannoo irraa gad buusanii awwaala keessa isa kaa’an. 30 Waaqni
garuu warra du’an keessaa isa kaase. 31 Innis warra isa wajjin Galiilaadhaa gara
Yerusaalemitti ol ba’anitti guyyaa hedduu mul’ate; isaanis amma saba keenya duratti
dhuga baatota isaa ti.

32 “Nus oduu nama gammachiisu isinitti odeessina; oduun kunis: Waaqni waan
abbootii keenya abdachiise sana, 33 Yesuusin du’aa kaasuudhaan nuu ijoollee
isaaniitiif guuteera. Kunis akkuma faarfannaa lammaffaa keessatti akkana jedhamee
barreeffamee dha;

“ ‘Ati ilma koo ti;
ani har’a si dhalcheera.’*

34 Wanni Waaqni, akka inni gonkumaa hin tortorreef jedhee warra du’an keessaa isa
kaaseef akkana jedhamee dubbii kana keessatti barreeffameera;

“ ‘Ani eebba qulqulluu fi mirkanaa’aa,
isa Daawit abdachiifame sana isiniif nan kenna.’†

35 Akkasumas iddoo biraatti akkana jedha:

“ ‘Qulqullichi kee akka tortoru hin gootu.’‡

36 “Daawitis bara isaa keessa fedhii Waaqaa tajaajilee boqote; abbootii isaa biratti
awwaalame; dhagni isaas ni tortore. 37 Inni Waaqni warra du’an keessaa isa kaase
sun garuu hin tortorre.

38 “Kanaaf yaa obboloota ko, isin akka karaa Yesuusiitiin dhiifamni cubbuu isinitti
lallabame akka beektan nan fedha. 39 Namni amanu hundinuu waan seera Museetiin
furamuu hin danda’in hunda irraa karaa Yesuusiitiin furamuu ni danda’a. 40 Isinis
akka wanni raajonni dubbatan sun isin irra hin geenyeef of eeggadhaa; innis akkana
jedha:

41 “ ‘Ilaalaa, isin qoostota nana;
dinqisiifadhaa; dhumaas;
ani bara keessan keessa
waan isin yoo namni tokko isinitti hime illee
hin amanne tokko nan hojjedha.’§”

42 Utuu Phaawulosii fi Barnaabaas mana sagadaatii ba’uutti jiranuu namoonni
sun akka isaan Sanbata itti aanu illee deebi’anii dubbii sana lallabaniif isaan
kadhatan. 43 Erga wal ga’iin mana sagadaa bittinnaa’ee booddee, Yihuudoonnii fi
namoonni amantii Yihuudootaa fudhatanii itti bulan baay’een isaan duukaa bu’an;
Phaawulosii fi Barnaabaasis jara sana wajjin dudubbatanii akka isaan ayyaana
Waaqaatti jiraataniif cimsanii isaan gorsan.

44 Sanbata itti aanutti nama muraasa malee uummanni magaalaa sanaa guutuun
dubbii Gooftaa dhaga’uuf walitti qabame. 45 Yihuudoonni garuu uummata baay’ee

* **13:33** 13:33 Far 2:7 † **13:34** 13:34 Isa 55:3 ‡ **13:35** 13:35 Far 16:10 § **13:41** 13:41 Anb 1:5

arganii hinaaffaan guutaman; Phaawulosinis arrabsanii waan inni dubbateen morman.
46 Phaawulosii fi Barnaabaasis akkana jedhanii sodaa malee deebii kennaniif; “Nu
duraan dursinee dubbii Waaqaa isinitti himuu qabna ture; isin garuu dubbii sana
diddanii akka jireenyi bara baraa isiniif hin malleetti waan of heddaniif kunoo, nu
amma gara Namoota Ormaatti gara galla. 47 Gooftaan akkana jedhee nu ajajeeraatii;
“ ‘Ani akka ati Namoota Ormaatiif ifa taatee,

hamma qarqara lafaatti fayyina geessituuf si filadheera.’*”

48 Namoonni Ormaas yommuu waan kana dhaga’anitti gammadanii dubbii Gooftaa
ulfeessan; warri jireenya bara baraatiif filataman hundinuus ni amanan.
49 Dubbiin Gooftaas naannoo sana hunda keessatti facaafame. 50 Yihuudoonni
garuu dubartoota bebeekamoo Waaqa sodaatanii fi dura bu’oota magaalattii isaanitti
tuttuqan; isaanis Phaawulosii fi Barnaabaas irratti ari’atama kaasanii biyya isaanii
keessaa isaan baasan. 51 Isaan garuu akka akeekkachiisa isaaniif ta’uuf, awwaara
miilla isaanii dhadha’atanii Iqooniyoonitti qajeelan. 52 Barattoonnis gammachuu fi
Hafuura Qulqulluudhaan guutaman.

# 14

### *Phaawulosii fi Barnaabaas Iiqoniyoon Keessatti*

1 Phaawulosii fi Barnaabaas akkuma amala isaanii Iqooniyoonitti mana sagadaa
Yihuudootaa seenan; achittis waan akka gaarii dubbataniif Yihuudoonnii fi Giriikonni
hedduun ni amanan. 2 Yihuudoonni hin amanin garuu Namoota Ormaa kakaasanii
akka isaan obbolootaan mormaniif yaada isaanii hammeessan. 3 Phaawulosii fi
Barnaabaas sodaa malee waa’ee Gooftaa dubbachaa yeroo dheeraa achi turan;
Gooftaanis akka isaan mallattoo fi dinqii hojjetan isaan dandeessisuudhaan dubbii
ayyaana isaa mirkaneesse. 4 Uummanni magaalaa sanaas gargar qoodame; garri
tokko Yihuudoota wajjin, kaan immoo ergamoota wajjin dhaabate. 5 Namoonni
Ormaatii fi Yihuudoonni bulchitoota isaanii wajjin isaan dhiphisuu fi dhagaadhaan
isaan tumuuf mari’atan. 6 Jarri garuu waan kana beekkatanii magaalaawwan
Liqaa’ooniyaa kanneen Lisxiraanii fi Darbeen jedhamanitti, gara biyya naannoo
sanaattis baqatan. 7 Achittis wangeela lallabuu itti fufan.

### *Phaawulosii fi Barnaabaas Lisxiraanii fi Darbeen keessatti*

8 Lisxiraan keessa namichi miilli isaa laamsha’e, kan dhaloota isaatii jalqabee
naafa turee fi takkumaa miillaan deemee hin beekin tokko taa’aa ture. 9 Innis
yeroo Phaawulos dubbatutti isa dhaggeeffachaa ture; Phaawulosis hubatee isa ilaalee
akka namichi sun fayyuuf amantii qabu arge; 10 sagalee guddaadhaanis, “Ka’ii miilla
keetiin dhaababdhu!” jedheen. Namichi sunis ol utaalee ka’e; miillaan deemuus
jalqabe.
11 Namoonnis yommuu waan Phaawulos hojjete arganitti, sagalee isaanii ol
fudhatanii afaan Liqaa’ooniyaatiin, “Waaqonni bifa namaatiin nutti gad bu’aniiru!”
jedhan. 12 Isaanis Barnaabaasiin, “Ze’oos” jedhan; Phaawulos immoo waan inni
dubbataa hangafa tureef, “Hermeen” jedhaniin. 13 Lubni Ze’oos uummata wajjin
aarsaa isaanii dhi’eessuu barbaadee sangootaa fi daraaraa fo’ame gara balbala
magaalaatti fide; manni qulqullummaa Diyaas magaalaa sanaan alatti argama ture.
14 Ergamoonni jechuunis Barnaabaasii fi Phaawulos garuu yommuu waan kana
dhaga’anitti wayyaa isaanii tarsaasanii iyyaa fiiganii uummata keessa seenan;
akkanas jedhan; 15 “Yaa jarana, isin maaliif waan kana gootan? Nus namuma akka
keessanii ti. Akka isin waan faayidaa hin qabne kana irraa deebitanii Waaqa jiraataa
isa samii, lafa, galaanaa fi waan isaan keessa jiru hunda uumetti deebitaniif nu oduu

* **13:47** 13:47 Isa 49:6

gaarii isinitti himna. [16] Inni bara durii keessa akka saboonni hundinuu akkuma
fedhanitti jiraatan isaan dhiise; [17] ta'us dhuga ba'umsa malee of hin dhiifne. Bokkaa
samii irraa roobsee midhaanis yeroo isaatti isinii kennee, garaa laafummaa isaa
argisiiseera; soora hedduus isinii kennee garaa keessan gammachuudhaan guuta."
[18] Jarri garuu dubbii kanaan iyyuu rakkina guddaadhaan akka tuunni sun aarsaa
isaaniif hin dhi'eessine of irraa deebisan.

[19] Yihuudoonni tokko tokko Anxookiiyaa fi Iqooniyoonii dhufanii uummata gara ofii
isaaniitti deebifatan. Phaawulosin dhagaadhaan tumanii waan inni du'e se'aniis lafa
irra harkisaa magaalaa keessaa gad isa baasan. [20] Inni garuu yeroo barattoonni isatti
naanna'anitti ka'ee magaalaa seene; guyyaa itti aanutti immoo Barnaabaas wajjin
magaalaa Darbeenitti qajeele.

### *Gara Anxookiiyaa Ishee Sooriyaa Keessaatti Deebi'an*

[21] Isaanis erga magaalaa sanatti wangeela lallabanii namoota hedduu barattoota
godhatanii booddee Lisxiraanitti, Iqooniyoonii fi Anxookiiyaatti deebi'an. [22] Isaanis,
"Nu mootummaa Waaqaatti galuudhaaf rakkina baay'ee keessa darbuu qabna"
jedhanii barattoota jajjabeessaa, akka isaan amantiitti cimaniifis gorsaa turan.
[23] Phaawulosii fi Barnaabaas tokkoo tokkoo waldaa kiristaanaa keessatti maangud-
doota muudaniifii kadhaa fi soomaan Goofticha isaan itti amananitti dabarsanii isaan
kennan. [24] Phisiidiyaa keessa darbanii Phamfiliyaa seenan. [25] Phergeenitti dubbicha
lallabanii Axaaliyaatti gad bu'an.

[26] Axaaliyaadhaa ka'anii gara iddoo itti hojii amma fixatan kanaaf ayyaana
Waaqaatti imaanaa kennamanii turanii Anxookiiyaatti dooniin deebi'an. [27] Akkuma
achi ga'aniinis waldaa kiristaanaa walitti qabanii waan Waaqni karaa isaaniitiin
hojjete hundaa fi akkamitti akka inni Namoota Ormaatiif balbala amantii banes
isaanitti himan. [28] Isaanis barattoota wajjin yeroo dheeraa achi turan.

## 15

### *Wal ga'ii Yerusaalemitti Godhame*

[1] Namoonni tokko tokko Yihuudaa gara Anxookiiyaatti gad bu'anii, "Isin yoo
akkuma seera Museetti dhagna qabachuu baattan fayyuu hin dandeessan" jedhanii
obboloota barsiisaa turan. [2] Kunis akka Phaawulosii fi Barnaabaas jara wajjin
wal diddaa fi wal morkii cimaa keessa seenan isaan godhe; kanaaf Phaawulosii
fi Barnaabaas waa'ee dubbii kanaatiif jedhanii akka Yerusaalemitti ol ba'anii
ergamootaa fi maanguddoota bira dhaqaniif amantoota tokko tokko wajjin filataman.
[3] Waldaan kiristaanaas isaan ergite; isaanis akka Namoonni Ormaa Waaqatti deebi'an
odeessaa Finiiqee fi Samaariyaa keessa darban. Oduun kunis obboloota hunda akka
malee gammachiise. [4] Yommuu isaan Yerusaalem ga'anitti waldaan kiristaanaa,
ergamoonnii fi maanguddoonni isaan simatan; isaanis waan Waaqni karaa isaaniitiin
hojjete hunda jaratti himan.

[5] Amantoonni garee Fariisotaa tokko tokko garuu ka'anii dhaabatanii, "Namoonni
Ormaa dhagna qabachuu qaban; akka seera Musee eeganiifis itti himamuu qaba"
jedhan.

[6] Ergamoonnii fi maanguddoonni dubbii kana ilaaluuf walitti qabaman. [7] Phexrosis
falmii guddaan booddee ka'ee dhaabatee akkana isaaniin jedhe; "Yaa obboloota,
isin akka Waaqni yeroo gabaabaan dura akka Namoonni Ormaa afaan koo irraa
dubbii wangeelaa dhaga'anii amananiif jedhee isinuma keessaa na filate beektu.
[8] Waaqni yaada garaa namaa beeku sun akkuma nuuf kenne sanatti isaaniifis
Hafuura Qulqulluu kennuudhaan akka isaan simate mirkaneesse. [9] Innis sababii
garaa isaanii amantiin qulqulleesseef, nuu fi isaan gidduutti garaa garummaa tokko

illee hin goone. 10 Yoos maaliif waanjoo nus abbootiin keenyas baachuu hin danda’in
morma barattootaa irra kaa’uudhaan Waaqa qortu ree? 11 Nu akka ayyaana Gooftaa
keenya Yesuusiitiin fayyinu ni amanna; isaanis akkasuma ni fayyu.”
12 Yommuu Barnaabaasii fi Phaawulos waa’ee mallattoo fi dinqii Waaqni harka
isaaniitiin Namoota Ormaa keessatti hojjete sanaa dubbatanitti yaa’iin guutuun
cal’isee isaan dhaga’aa ture. 13 Erga isaan dubbatanii fixanii booddees Yaaqoob
akkana jedhe; “Yaa obboloota, mee na dhaggeeffadhaa! 14 Simoonis akka Waaqni
duraan dursee Namoota Ormaa keessaa saba tokko ofii isaatii filachuun jaalala isaa
argisiise nutti himeera. 15 Dubbiin raajotaas waan kana wajjin walii gala; innis
akkana jedhamee barreeffameera:

16 “ ‘Kana booddee ani nan deebi’a;
dunkaana Daawit kan kufe sana deebisee nan ijaara;
diigamaa isaa immoo deebisee nan ijaara;
deebisees nan dhaaba;
17 kunis akka namoonni hafan jechuunis,
Namoonni Ormaa warri maqaa kootiin waamaman hundinuu
gooftaa barbaadaniif’*
18 jedha Gooftichi waan bara dheeraaf beekame hojjete sun.

19 “Kanaaf nu akka murtii kootiitti Namoota Ormaa kanneen Waaqatti deebi’an
rakkisuu hin qabnu. 20 Qooda kanaa akka isaan nyaata waaqonni tolfamoon
xureessan, sagaagalummaa, foon horii hudhamee du’eetii fi dhiiga lagataniif xalayaa
barreessinee itti himuu qabna. 21 Seerri Musee dhaloota duriitii jalqabee magaalaa
hunda keessatti lallabamaa ture; manneen sagadaa keessattis Sanbata Sanbata ni
dubbifama.”

### *Xalayaa Namoota Ormaatti Ergame*

22 Yommus ergamoonnii fi maanguddoonni miseensota waldaa kiristaanaa guutuu
wajjin tokko ta’anii namoota isaanii keessaa tokko tokko filatanii Phaawulosii fi
Barnaabaas wajjin gara Anxookiiyaatti erguu murteessan; isaanis namoota lama
jechuunis Yihuudaa isa Barsiyaan jedhamuu fi Siilaas kanneen obboloota keessatti
dura bu’oota turan sana filatan. 23 Xalayaa armaan gad jiru kanas isaanitti ergan:

Obboloota keessan, ergamootaa fi maanguddoota irraa;

Gara Namoota Ormaa kanneen amanan warra Anxookiiyaa, Sooriyaa fi Kiilqiyaa
keessa jiraataniitti;

Nagaa isinii dhaamna.

24 Nu akka namoonni tokko tokko eeyyama keenya malee nu biraa ba’anii
waan dubbataniin qalbii isin raasanii isin jeeqan dhageenyeerra. 25 Kanaafuu nu
hundi namoota tokko tokko filannee obboloota keenya jaallatamoo Barnaabaasii
fi Phaawulos jechuunis 26 namoota maqaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiif
jedhanii jireenya isaanii kennan isinitti erguuf walii galle. 27 Kanaafuu akka isaan
waanuma nu barreessine sana dubbii afaaniitiin isinii mirkaneessaniif jennee
Yihuudaa fi Siilaasin ergineerra. 28 Waan barbaachisaa armaan gad jiru kana malee
akka nu ba’aa tokko illee isin irra hin keenye Hafuurri Qulqulluun jaallateera;
nus itti gammanneerra; 29 kunis akka isin nyaata waaqota tolfamoof aarsaa
dhi’eeffamu, dhiiga, foon horii hudhamee du’eetii fi sagaagalummaa lagattanii dha.
Isin yoo waan kana irraa of eegdan, waan qajeelaa hojjettan.

Nagaatti.

30 Jarri sunis ergamanii Anxookiiyaatti gad bu’an; achittis amantoota walitti
qabanii xalayaa sana itti kennan. 31 Amantoonnis yommuu xalayaa sana dubbisanitti

* **15:17** 15:17 Amo 9:11,12

gorsa jajjabeessaa sanatti ni gammadan. [32] Yihuudaa fi Siilaas warri mataan isaanii
iyyuu raajota turan sun dubbii baay'een obboloota gorsanii jajjabeessan. [33] Erga isaan
yeroo gabaabaa achi turanii booddees, obboloonni akka isaan warra isaan erganitti
deebi'aniif nagaan isaan geggeessan. [ [34] Siilaas immoo achumatti hafuu murteesse.]†
[35] Phaawulosii fi Barnaabaas garuu Anxookiiyaatti hafanii namoota biraa hedduu
wajjin dubbii Gooftaa barsiisan; ni lallabanis.

### *Wal dhabuu Phaawulosii fi Barnaabaas*

[36] Phaawulosis bultii gabaabduu booddee Barnaabaasiin, "Mee kottu, maga-
alaawwan itti dubbii Gooftaa lallabne hundatti deebinee obboloota dubbifnaa; haala
isaan keessa jiranis ni ilaallaa!" jedhe. [37] Barnaabaasis Yohannis isa Maarqos
jedhamu sana isaan wajjin fudhatee deemuu barbaade. [38] Phaawulos garuu sababii
Maarqos isaan wajjin hojiitti fufuu didee Phamfiliyaatti isaan dhiisee deemeef
akka inni isaan wajjin deemu hin jaallanne. [39] Kana irratti waldhabiisni guddaan
gidduu isaaniitti uumamnaan gargar ba'an; Barnaabaasis Maarqosin fudhatee
dooniidhaan Qophiroositti qajeele. [40] Phaawulos immoo Siilaasin filatee erga
obboloonni dabarsanii ayyaana gooftaatti isa kennanii booddee ka'ee deeme. [41] Innis
waldoota kiristaanaa jajjabeessaa Sooriyaa fi Kiilqiyaa keessa darbe.

## 16

### *Xiimotewos Phaawulosii fi Siilaasitti makame*

[1] Phaawulos ittuma fufee gara Darbeenii fi Lisxiraanii dhaqe; barataan Xiimotewos
jedhamu kan haati isaa Yihuudii amantuu taate tokkos achi ture; abbaan isaa
garuu nama Giriik ture. [2] Obboloonni Lisxiraanii fi Iqooniyoon keessa jiraatan
waa'ee isaa waan gaarii dubbatan. [3] Phaawulos akka Xiimotewos isa faana deemu
barbaade; kanaaf sababii Yihuudoota naannoo sana jiraataniitiif jedhee dhagna isa
qabe; isaan hundinuu akka abbaan Xiimotewos nama Giriik ta'e beeku turaniitii.
[4] Isaanis akkuma magaalaa tokkoo gara magaalaa kaaniitti darbaniin akka namoonni
ajajamaniif jedhanii murtii ergamoonnii fi maanguddoonni Yerusaalem keessa
jiraatan murteessan sana namootatti himan. [5] Kanaafuu waldoonni kiristaanaa
amantiitti cimaa, baay'inaanis guyyuma guyyaan itti dabalamaa deeman.

### *Phaawulos Mul'ataan Namicha Maqedooniyaa Tokko Arge*

[6] Isaanis Hafuurri Qulqulluun akka isaan biyya Asiyaa keessatti dubbicha hin
lallabne isaan dhowwinaan biyya Firiigiyaatii fi Galaatiyaa keessa darban. [7] Yommuu
Miisiyaa ga'anittis Biitaaniyaa seenuu yaalan; Hafuurri Yesuus garuu isaanii hin
eeyyamne. [8] Kanaaf Miisiyaa keessa ba'anii Xiroo'aasitti gad bu'an. [9] Phaawulosis
halkan sana namicha Maqedooniyaa tokko isaa dhaabatee, "Maqedooniyaa kottuutii
nu gargaari" jedhee isa kadhatu mul'ataan arge. [10] Nus erga Phaawulos mul'ata
sana argee booddee, Waaqni akka nu wangeela isaanitti lallabnuuf nu waamuu isaati
jennee Maqedooniyaa dhaquuf qophoofnee kaane.

### *Lidiyaan Kiristoositti Amante*

[11] Xiroo'aasii dooniidhaan kaanee Saamotraaqeetti fuula deebifannee qajeelle;
guyyaa itti aanu immoo Ne'aphoolisitti dabarre. [12] Achii kaanees Fiiliphisiyuus
dhaqne; isheenis magaalaa beekamtuu aanaa Maqedooniyaa kan kolonii mootum-
maa Roomaa jala turtee dha; nus magaalattii keessa guyyaa muraasa turre.
[13] Guyyaa Sanbataa immoo magaalattii keessaa baanee gara lagaa iddoo akka
lafa kadhannaa itti argannu abdanne tokkootti gad buune; teteenyees dubartoota
achitti walitti qabamanitti dubbachuu jalqabne. [14] Warra nu dhaggeeffachaa turan

† **15:34** 15:34 Waraabbileen durii tokko tokko luqqisaa kana hin qaban.

keessaas dubartii Liidiyaa jedhamtu tokkotu ture; isheen daldaltuu wayyaa dhiilgee
kan magaalaa Tiyaatiraatii dhuftee, Waaqas waaqeffattu turte. Gooftaan akka isheen
waan Phaawulos dubbatu qalbeeffattuuf qalbii ishee baneef. 15 Isheenis erga warra
mana ishee jiraatan wajjin cuuphamtee booddee, "Yoo akka nama Gooftaatti amanu
tokkootti na ilaaltan, kottaatii mana koo turaa" jettee nu waamte; jabeessitees nu
kadhatte.

*Phaawulosii fi Siilaas Mana Hidhaa Keessatti*

16 Gaaf tokko utuu iddoo itti kadhatan dhaqnuu xomboree hafuura waa himsiisuun
guutamte tokkoon walitti dhufne; isheen waa namaa himuun gooftota isheetiif
maallaqa guddaa galchiti turte. 17 Isheenis, "Namoonni kunneen tajaajiltoota
Waaqa Waan Hundaa Olii kanneen karaa fayyinaa isinitti himanii dha" jettee iyyaa
Phaawulosii fi nu duukaa buute. 18 Waan kanas guyyaa hedduu itti fufte; Phaawulos
garuu waan akka malee aareef itti garagalee hafuura sanaan, "Ani akka ati ishee
keessaa baatu maqaa Yesuus Kiristoosiitiin sin ajaja" jedhe; hafuurichis yommusuma
ishee keessaa ba'e.
19 Gooftonni xomboree sanaas yommuu akka abdiin galii isaanii citte hubatanitti
Phaawulosii fi Siilaasin qabanii fuula abbootii taayitaa duratti dhi'eessuuf jedhanii
lafa irra harkisaa iddoo gabaatti isaan geessan. 20 Fuula qondaaltotaa durattis isaan
dhi'eessanii akkana jedhan; "Namoonni kunneen Yihuudoota; magaalaa keenyas
jeequutti jiru. 21 Isaanis duudhaa fudhachuun yookaan itti buluun nuu warra
Roomaatiif hin eeyyamamne barsiisu."
22 Namoonnis tokkummaadhaan Phaawulosii fi Siilaasitti ka'an; qondaaltonni sunis
akka wayyaan isaan irraa baafamee uleedhaan tumaman ajajan. 23 Jarris erga akka
malee garafamanii booddee mana hidhaatti darbataman; eegduun mana hidhaa
sanaas akka jabeessee isaan eegu ajajame. 24 Innis ajaja kana fudhatee gola mana
hidhaa keessa isaan galche; miilla isaaniis jirma gidduu galchee hidhe.
25 Gara halkan walakkaatti Phaawulosii fi Siilaas kadhachaa, faarfannaadhaanis
Waaqa galateeffachaa turan; hidhamtoonni kaanis isaan dhaggeeffachaa turan.
26 Akkuma tasaa sochiin lafaa cimaan tokko ta'e; kanaanis hundeen mana hidhaa
sanaa raafame; yommusuma balballi hundinuu ni baname; foncaan nama hundaas
ni hiikame. 27 Eegduun mana hidhaa sunis yommuu dammaqee akka balballi mana
hidhaa baname argetti waan hidhamtoonni ba'anii badan se'ee of ajjeesuuf goraadee
isaa luqqifate. 28 Phaawulos garuu sagalee guddaadhaan iyyee, "Nu hundi asuma
jirraatii of hin miidhin" jedheen.
29 Eegduun sunis ibsaa fichisiifatee fiigaa ol gale; sodaadhaanis hollachaa Phaawu-
losii fi Siilaas duratti kufe; 30 gad isaan baasees, "Yaa Gooftota ko, ani akka fayyuuf
maal gochuun qaba?" jedhee gaafate.
31 Isaanis deebisanii, "Gooftaa Yesuusitti amani; ati ni fayyitaa; warri mana
kee jiraatanis ni fayyuutii" jedhan. 32 Dubbii Gooftaas isaa fi warra mana isaa
jiraatan hundatti himan. 33 Eegduun mana hidhaa sunis sa'aatuma halkanii sana
isaan fuudhee madaa isaanii dhiqeef; yommusumas innii fi maatiin isaa hundinuu
cuuphaman. 34 Eegduun sunis mana isaatti isaan geessee nyaata dhi'eesseef; sababii
maatiin isaa hundi gara Waaqa amanuutti dhufaniif warri mana isaa jiraatan hundi
akka malee gammadan.
35 Yommuu bari'etti qondaaltonni sun, "Namoota sana gad dhiisi" jedhanii eegduu
mana hidhaa sanatti poolisii ergan. 36 Eegduun sunis, "Qondaaltonni akka isin
hiikamtan ajajaniiru; kanaaf amma deemuu ni dandeessu; nagaan galaa" jedhee
Phaawulositti hime.
37 Phaawulos garuu poolisoota sanaan akkana jedhe; "Isaan utuma nu lammiiwwan
Roomaa taanee jirruu, murtii tokko malee nu garafanii mana hidhaatti nu darbatan;

amma immoo dhoksaan nu baasuu barbaaduu? Kun hin ta'u! Isaanumti mataan
isaanii dhufanii nu haa baasanii!" jedhe.
38 Poolisoonnis dubbii kana qondaaltotatti himan; qondaaltonnis yommuu akka
Phaawulosii fi Siilaas lammiiwwan Roomaa ta'an dhaga'anitti ni rifatan. 39 Isaanis
dhufanii dhiifama isaan gaafatan; mana hidhaatii isaan baasanii akka isaan
magaalattii keessaa ba'anii deemaniif isaan kadhatan. 40 Phaawulosii fi Siilaas mana
hidhaatii ba'anii mana Liidiyaa dhaqan; isaanis yommuu obboloota arganitti isaan
jajjabeessan; achiis ba'anii deeman.

# 17

*Phaawulosii fi Siilaas Tasaloniiqee Keessatti*

1 Isaanis Amfiipholiisii fi Apholooniyaa keessa darbanii Tasaloniiqee iddoo manni
sagadaa Yihuudootaa ture dhufan. 2 Phaawulosis akkuma amala isaa mana sagadaa
seenee guyyaa Sanbataa sadii dubbii kitaabaa irratti isaan wajjin dudubbachaa,
3 akka Kiristoos* dhiphachuu fi warra du'an keessaa ka'uu qabu addeessaa,
mirkaneessaas ture. Innis, "Yesuus ani amma isinitti himu kun Kiristoosii dha" jedhe.
4 Yihuudoota keessaa tokko tokko, Giriikota Waaqa sodaatan keessaas namoonni akka
malee baay'atanii fi dubartoonni bebeekamoon hedduun amananii Phaawulosii fi
Siilaasitti dabalaman.
5 Yihuudoonni garuu hinaaffaan guutaman; isaanis iddoo gabaatii kashlabboota
tokko tokko walitti qabatanii, uummatas kakaasanii magaalaa keessatti goolii
uuman; Phaawulosii fi Siilaasinis fuula uummataa duratti dhi'eessuuf jedhanii isaan
barbaacha mana Yaasonitti fiigan. 6 Yommuu jara dhabanitti immoo Yaasonii fi
obboloota tokko tokko harkisaa fuula qondaaltota magaalaa duratti dhi'eessanii
akkana jedhanii iyyan; "Namoonni addunyaa hunda rakkisaa turan kunneen amma
kunoo as dhufaniiru; 7 Yaasonis mana isaatti isaan simateera. Hundi isaaniis,
'Mootiin biraa kan Yesuus jedhamu tokko jira' jedhanii labsii Qeesaariin mormu."
8 Uummannii fi qondaaltonni magaalaa sanaas yommuu waan kana dhaga'anitti ni
raafaman. 9 Isaanis Yaasonii fi warra kaan irraa qabsiisa fuudhanii gad isaan dhiisan.

*Phaawulosii fi Siilaas Beeriyaa Keessatti*

10 Obboloonnis yeruma sana Phaawulosii fi Siilaasin halkaniin Beeriyaatti ergan;
isaanis yommuu achi ga'anitti mana sagadaa Yihuudootaa seenan. 11 Yihuudoonni
Beeriyaa Yihuudoota Tasaloniiqee irra qalbii qabeeyyii turan; isaanis fedhii guddaan
dubbii sana fudhatanii akka wanni Phaawulos jedhe sun dhugaa ta'ee fi akka
dhugaa hin ta'in ilaaluuf jedhanii guyyuma guyyaan Katabbiiwwan Qulqulluu
qorachaa turaniitii. 12 Kanaaf Yihuudoota keessaa baay'een ni amanan; akkasumas
dubartoonni Giriik beekamoon hedduunii fi dhiironni Giriik hedduun ni amanan.
13 Yihuudoonni Tasaloniiqee yommuu akka Phaawulos Beeriyaa keessattis dub-
bii Waaqaa lallabaa ture dhaga'anitti achis dhaqanii rakkoo uumanii uummata
kakaasan. 14 Obboloonni immoo yommusuma Phaawulosin gara qarqara galaanaatti
ergan; Siilaasii fi Xiimotewos garuu Beeriyaatti hafan. 15 Namoonni Phaawulosin
geggeessanis Ateenaan isa ga'anii akka Siilaasii fi Xiimotewos hamma isaanii
danda'ametti dafanii Phaawulos bira dhaqaniif ajaja fuudhaniifii deebi'an.

*Phaawulosii fi Siilaas Ateenaa Keessatti*

16 Phaawulos utuu Ateenaa keessatti isaan eegaa jiruu akka magaalaan sun
waaqota tolfamoodhaan guutamte argee akka malee gadde. 17 Kanaaf mana sagadaa
keessatti Yihuudootaa fi Giriikota Waaqa sodaatan wajjin, iddoo gabaatti immoo
guyyuma guyyaan warra achitti argaman wajjin falmaa ture. 18 Gareen falaasamtoota

* **17:3** 17:3 yookaan Masiihichi

Efiiqoroosiitii† fi Isto’iki‡ tokkos isaan falmaa ture; isaan keessaa tokko tokko,
“Namichi legellegaan kun maal jedha?” jedhan. Warri kaan immoo, “Inni waa’ee
waaqota ormaa labsa fakkaata” jedhan. Phaawulos waa’ee Yesuusii fi waa’ee du’aa
ka’uu lallabaa tureetii. 19 Isaanis isa qabanii gara wal ga’ii Ariyoosphaagositti
geessan; achittis akkana jedhaniin; “Barsiisni haaraan ati fidde kun maal akka ta’e
beekuu dandeenyaa? 20 Ati waan nu takkumaa hin dhaga’in nutti himaa jirta; kanaaf
nu akka wanni kun maal jechuu ta’e beekuu feena.” 21 Warri Ateenaa hundii fi
namoonni biyya ormaa kanneen achi jiraatan yeroo isaanii waan haaraa dhaga’uu
fi odeessuu irratti malee waan biraa irratti hin balleessan ture.

22 Phaawulosis wal ga’ii Ariyoosphaagos walakkaa dhaabatee akkana jedhe; “Yaa
namoota Ateenaa! Ani akka isin karaa hundaanuu warra amantaa taatan nan
hubadha. 23 Ani yommuun nanaanna’ee waan isin waaqeffattan ilaaletti iddoo aarsaa
kan katabbii,

Waaqa hin Beekamneef,

jedhu of irraa qabu argeeraatii. Egaa amma waan isin utuu hin beekin waaqeffattan
kana isinittin hima.

24 “Waaqni addunyaa fi waan ishee keessa jiru hunda uume sun Gooftaa samiitii
fi lafaa ti; inni mana qulqullummaa kan harka namaatiin hojjetame keessa hin
jiraatu. 25 Inni mataan isaa sababii jireenya hafuura baafatamuu fi waan biraa
hunda nama hundaaf kennuuf akka waan waa dhabeetti harka namaatiin hin
tajaajilamu. 26 Inni saboota hunda nama tokko irraa uumee akka isaan lafa hunda
irra jiraatan godhe; bara jireenyaa kan isaanii kennamee fi daarii lafa isaan jiraatanii
murteesse. 27 Waaqni yoo tokkoo tokkoo keenya irraa fagoo jiraachuu baate iyyuu
akka namoonni isa barbaadanii, tarii carraaqaniis isa argataniif jedhee waan kana
godhe. 28 Akkuma beektonni keessan tokko tokko, ‘Nu ilmaan isaa ti’ jedhan sana
‘Nu isa keessa jiraanna; isa keessa sochoona; eenyummaa keenya illee isa keessatti
qabaannaatii.’

29 “Kanaafuu nu waan ilmaan Waaqaa taaneef Waaqni waan akka warqee yookaan
meetii yookaan dhagaa jechuunis waan ogummaa fi beekumsa namaatiin hojjetame
fakkaata jennee yaaduu hin qabnu. 30 Waaqni bara wallaalummaa durii hin ilaalu
ture; amma garuu akka namni iddoo hunda jiru hundi qalbii jijjiirratu ajaja.
31 Innis guyyaa itti harka namicha filate sanaatiin qajeelummaadhaan addunyaatti
muru murteesseeraatii; kanas warra du’an keessaa isa kaasuun nama hundumaaf
mirkaneesseera.”

32 Isaan keessaa namoonni tokko tokko yommuu waa’ee du’aa ka’uu warra
du’anii dhaga’anitti ni qoosan; warri kaan immoo, “Nu ammas dubbii kana sirraa
dhaga’uu barbaanna” jedhan. 33 Kana irratti Phaawulos isaan keessaa ba’ee deeme.
34 Namoonni tokko tokko garuu gama Phaawulos goranii amanan; isaan keessaas
namichi Diiyonaasiyoos jedhamu kan miseensa Ariyoosphaagos ture tokko, dubartiin
Damaariis jedhamtuu fi namoonni biraas isaan wajjin turan.

# 18

*Phaawulos Qorontos Keessatti*

† 17:18 17:18 Efiiqoroosiitii – Falaasamaan Giriik kan Efiiqoroos jedhamu tokko dhaloota Gooftaatiin dura (Bara 341–270 keessa) akka gammachuun jireenya namaa keessatti waan hundumaa caalaa gaarii ta’e barsiisee ture. Gareen Efiiqoroos akka waan waaqonni hin jirreetti yookaan akka waan waaqonni waan addunyaa keessatti ta’u irratti humna hin qabneetti amanan. ‡ 17:18 17:18 Isto’iki – isaan barumsa falaastuu Zeenoo jedhamu kan Dhaloota Kiristoosiitiin Dura (Bara 340–265 keessa) akka gammachuun jireenya tolaan yookaan dhukkubsachaan yookaan mo’achuun yookaan mo’atamuun tuqamuu dhabuu keessa jiru addeessanii ibsan.

1 Kana booddee Phaawulos Ateenaa ka’ee Qorontos dhaqe. 2 Achittis Yihuudii
Aqiilaa jedhamu kan biyya Phonxoositti dhalate tokko argate; Aqiilaan kunis sababii
Qilaawudewoos akka Yihuudoonni hundinuu biyya Roomaa keessaa ba’an ajajeef
dhi’oo niitii isaa Phirisqilaa wajjin Iixaaliyaadhaa dhufe. Phaawulosis isaan ilaaluu
dhaqe. 3 Innis waan akkuma isaanii hojjetaa dunkaanaa tureef achi jiraatee
isaan wajjin hojjete. 4 Guyyaa Sanbataa hundas mana sagadaa keessatti falmee
Yihuudootaa fi Giriikota amansiisa ture.
5 Phaawulos yeroo Siilaasii fi Xiimotewos Maqedooniyaadhaa dhufanitti akka
Yesuus kun Kiristoos* ta’e Yihuudootaaf dhugaa ba’aa dubbicha lallabuutti ni jabaata
ture. 6 Yommuu Yihuudoonni isaan mormanii isa arrabsanittis garuu Phaawulos
uffata isaa hurgufatee, “Dhiigni keessan matuma keessan irra haa jiraatu! Ani
qulqulluu dha; ammaa jalqabee gara Namoota Ormaa nan dhaqa” jedheen.
7 Innis achii ba’ee mana namicha Waaqa waaqeffatu kan maqaan isaa Tiitoo jed-
hamu tokkoo dhaqe; manni namicha sanaas mana sagadaatti aana ture. 8 Kiriisphoos
bulchaan mana sagadaa sanaas warra mana isaa jiraatan hunda wajjin Gooftaatti
amane; namoota Qorontos kanneen Phaawulosin dhaga’an keessaa baay’een isaanii
amananii cuuphaman.
9 Halkan tokko Gooftaan akkana jedhee mul’ataan Phaawulositti dubbate; “Hin
sodaatin; dubbadhu malees hin cal’isin. 10 Sababii ani si wajjin jiruuf namni tokko
iyyuu si miidhuuf jedhee si hin tuqu; ani magaalaa kana keessaa nama baay’ee
qabaatii.” 11 Kanaafuu Phaawulos dubbii Waaqaa isaan barsiisaa waggaa tokkoo fi
walakkaa achi ture.
12 Yeroo Gaaliyoon bulchaa Akaayyaa turetti Yihuudoonni tokkummaadhaan
Phaawulositti ka’anii mana murtiitti isa dhi’eessan. 13 Isaanis, “Namichi kun akka
isaan karaa seeraan ala ta’een Waaqa waaqeffataniif namoota sossobaa jira” jedhanii
isa himatan.
14 Utuu Phaawulos dubbachuuf jedhee afaan banachuutti jiruu Gaaliyoon Yihu-
udootaan akkana jedhe; “Yaa Yihuudoota, utuu dubbiin kun waa’ee balleessaa
hojjechuu yookaan waa’ee yakka guddaa ta’ee ani silaa obsaan isinan dhaga’a ture.
15 Gaaffiin keessan garuu waan waa’ee jechootaa, waa’ee maqaawwaniitii fi waa’ee
seera keessanii ta’eef kana isinuu fixadhaa; ani waan akkanaatiif abbaa murtii hin
ta’uutii.” 16 Kanaafuu mana murtii keessaa gad isaan baase. 17 Isaan hundi bulchaa
mana sagadaa sanatti jechuunis Soosteenesitti garagalanii fuula mana murtii duratti
isa tumuu jalqaban. Wanni kun garuu xinnuma illee Gaaliyoo hin yaaddessine.

### *Phirisqilaa, Aqiilaa fi Apholoos*

18 Phaawulos yeroo muraasa Qorontos keessa ture. Ergasiis obboloota biraa deemee
Phirisqilaa fi Aqiilaa wajjin dooniidhaan Sooriyaa dhaqe; innis waan wareega qabuuf
utuu hin deemin Kanchire’aatti mataa haaddate. 19 Phaawulosis yeroo Efesoon
ga’anitti Phirisqilaa fi Aqiilaa achitti dhiisee ofii isaatii garuu mana sagadaa seenee
Yihuudootaan mormaa ture. 20 Yommuu isaan akka inni yeroo dheeraa isaan bira
turu kadhatanitti immoo dhaga’uu dide. 21 Garuu akkuma isaan biraa deemeen,
“Yoo Waaqni jedhe ani deebi’ee nan dhufa” jedheen; dooniidhaanis Efesoonii ka’ee
deeme. 22 Innis Qiisaariyaa geenyaan ol ba’ee waldaa kiristaanaa dubbise; ergasiis
Anxookiiyaatti gad bu’e.
23 Phaawulos erga Anxookiiyaa keessa takka bubbulee booddee achii ka’ee
barattoota hunda jajjabeessaa biyya Galaatiyaatii fi Firiigiyaa hunda keessa iddoo
tokko irraa iddoo kaanitti nanaanna’aa ture.
24 Gidduudhuma sana Yihuudiin Iskindiriyaatti dhalate kan Apholoos jedhamu
tokko gara Efesoon dhufe; innis nama arraba qajeelu, kan Katabbiiwwan Qulqulluu

---

* **18:5** 18:5 yookaan Masiihicha

gad fageenyaan beeku ture. 25 Namichi kun duraan karaa Gooftaa baratee ture;
inni yoo cuuphaa Yohannis qofa beeke illee hafuura ho’aadhaan waa’ee Yesuus
qajeelchee dubbachaa, barsiisaas ture. 26 Mana sagadaa keessattis sodaa malee
dubbachuu jalqabe; Phirisqilaa fi Aqiilaanis yommuu isa dhaga’anitti mana isaaniitti
isa waamanii karaa Waaqaa isa duraa caalaatti sirriitti addeessaniif.

27 Yeroo Apholoos Akaayyaa dhaquu barbaadetti obboloonni isa jajjabeessanii akka
barattoonni achi jiran sun isa simataniif xalayaa barreessaniif. Innis achi ga’ee warra
ayyaana Waaqaatiin amananii turaniif gargaarsa guddaa ta’e. 28 Inni akka Yesuus
kun Kiristoos ta’e Katabbiiwwan Qulqulluudhaan mirkaneessaa, jabaatee ifaan ifatti
Yihuudootaan mormee amansiisaa tureetii.

# 19

### *Phaawulos Efesoon Keessatti*

1 Utuu Apholoos Qorontos keessa jiruu Phaawulos immoo biyya ol aanu keessa
ba’ee Efesoon dhufe; achittis barattoota tokko tokko argate. 2 Innis, “Isin yeroo
amantanitti Hafuura Qulqulluu argattaniirtuu?” jedhee gaafate.

Isaan immoo deebisanii, “Hin arganne; nu akka Hafuurri Qulqulluun jiru iyyuu
takkumaa hin dhageenye” jedhan.

3 Phaawulosis, “Yoos cuuphaa kami cuuphamtan ree?” jedhee gaafate.

Isaanis, “Cuuphaa Yohannis” jedhan.

4 Phaawulosis, “Cuuphaan Yohannis cuuphaa qalbii jijjiirrannaa ti; Yohannis akka
isaan kan isa duubaan dhufaa jirutti, jechuunis Yesuusitti amananiif namootatti hima
ture” jedhe. 5 Isaanis waan kana dhaga’anii maqaa Gooftaa Yesuusitti cuuphaman.
6 Yommuu Phaawulos harka isaan irra kaa’etti Hafuurri Qulqulluun isaan irra bu’e;
isaanis afaan haaraadhaan dubbatan; raajiis ni dubbatan. 7 Isaanis walumatti gara
nama kudha lamaa turan.

8 Phaawulosis mana sagadaa seenee waa’ee mootummaa Waaqaa isaan wajjin
falmaa, akka isaan amananiifis yaalaa, ji’a sadii sodaa malee dubbachaa ture. 9 Isaan
keessaa tokko tokko garuu mata jabeeyyii ta’an; amanuus didanii waa’ee karaa sanaa
uummata duratti waan hamaa dubbatan; kanaaf Phaawulos isaan dhiisee deeme;
barattootas ofitti fudhatee mana barumsaa Xiraanoos keessatti guyyuma guyyaan
isaan wajjin mari’achaa ture. 10 Kunis waggaa lama itti fufe; kanaaf Yihuudoonnii fi
Giriikonni biyya Asiyaa keessa jiraatan hundinuu dubbii Gooftaa dhaga’an.

11 Waaqni harka Phaawulosiitiin hojii dinqii kan akka malee dinqisiisu hojjechaa
ture. 12 Kanaaf maarrabiin yookaan marxoon dhagna isaa tuqe iyyuu dhukkubsat-
tootatti geeffama ture; isaanis ni fayyu; hafuurri hamaanis isaan keessaa ba’a ture.

13 Yihuudoonni biyya keessa nanaanna’anii hafuurota xuraa’oo nama keessaa
baasan tokko tokkos namoota hafuura hamaan qabaman irratti maqaa Gooftaa
Yesuus waamuu yaalan; isaanis, “Ani maqaa Yesuus kan Phaawulos lallabu sanaan
sin ajaja” jedhan. 14 Ilmaan Iskoyaas, isa luba hangafa Yihuudootaa ture sanaa
torbanis waan kana hojjetaniiru. 15 Hafuurri hamaan sun garuu, “Ani Yesuusin
beeka; waa’ee Phaawulosis beeka; isin immoo eenyu?” jedhee deebiseef. 16 Namichi
hafuura hamaan qabame sunis isaanitti utaale; hunda isaaniis mo’ate; ni tumes;
isaanis madaa’anii qullaa isaanii mana keessaa ba’anii baqatan.

17 Kunis Yihuudootaa fi Giriikota Efesoon keessa jiraatan hunda biratti beekame;
isaan hundis sodaan guutaman; maqaan Gooftaa Yesuusis baay’ee kabajame.
18 Warra amanan keessaas baay’een isaanii dhufanii hojii isaanii hamaa sana ifatti
baasanii himachaa turan. 19 Warra falfala hojjechaa turan keessaas namoonni
baay’een kitaabota isaanii walitti qabanii fuula uummataa duratti guban; gatiin

kitaabota sanaas yommuu shallagametti gara meetii* kuma shantama ta'e. 20 Haala
kanaanis dubbiin Gooftaa akka malee babal'ate; humnaanis guddate.
21 Erga wanni kun hundinuu ta'ee booddee Phaawulos Maqedooniyaa fi Akaayaa
keessa darbee Yerusaalem dhaquu murteeffate; innis, "Ani ergan achi ga'ee booddee
Roomaas dhaquun qaba" jedhe. 22 Innis gargaartota isaa keessaa nama lama
jechuunis Xiimotewosii fi Erisxoosin Maqedooniyaatti ergee ofii immoo yeroof biyya
Asiyaa keessa ture.

### *Goolii Efesoon Keessatti Ka'e*

23 Gidduma sana waa'ee karaa sanaa irratti gooliin guddaan uumame. 24 Tumtuun
meetii kan Dimeexiroos jedhamu tokko fakkii mana qulqullummaa Arxemiisi† meetii
irraa hojjechuun ogeeyyii hojii harkaatiif galii guddaa galchaa ture. 25 Innis isaan
hundaa fi namoota hojii akkasii qaban kaan walitti waamee akkana jedheen; "Yaa
namoota nana, akka nu hojii kana irraa galii guddaa argannu ni beektu. 26 Isin
akka namichi Phaawulos jedhamu kun utuu Efesoon qofatti hin ta'in guutummaa
biyya Asiyaa gara caalu keessattis akka waaqonni harka namaatiin tolfaman waaqota
hin ta'in dubbachuudhaan nama hedduu amansiisee karaa irraa balleesse ni argitu;
ni dhageessus. 27 Kanaafuu akka maqaan hojii keenyaa inni gaariin sun badu
sodaan jira; garuu kana qofa utuu hin ta'in manni sagadaa Arxemiisi waaqittii
guddoo sanaa iyyuu ni salphata; waaqittiin biyya Asiyaa guutuu fi addunyaa keessatti
waaqeffatamtu mataan ishee iyyuu ulfina waaqummaa ishee ni dhabdi."
28 Isaanis yommuu waan kana dhaga'anitti akka malee aaranii, "Arxemiisiin
warra Efesoon guddoo dha!" jedhanii iyyan. 29 Yommusuma magaalattiin ni
raafamte; namoonni sunis miiltota Phaawulos kanneen Maqedooniyaadhaa dhufan
jechuunis Gaayoosii fi Arisxirokoosin qabanii akkuma nama tokkootti gara iddoo itti
tapha argisiisanii girrisanii fiigan. 30 Phaawulos uummatatti mul'achuu barbaade;
barattoonni garuu hin eeyyamneef. 31 Qondaaltota biyya Asiyaa warra michoota
Phaawulos turan keessaas tokko tokko nama isatti erganii akka inni iddoo itti tapha
argisiisan sana hin dhaqne isa kadhatan.
32 Yaa'ichis wacaan guutame: Garri tokko waan tokko, garri kaan waan biraa
iyye. Garri caalaan isaanii immoo waan achitti walitti qabamaniif illee hin
beekne. 33 Yihuudoonnis Iskindiroosin dhiibanii fuula uummataa duratti baafnaan,
namoonni tokko tokko uummata keessaa iyyanii gorsa kennaniif; innis uummata
duratti falmachuuf jedhee akka namoonni cal'isaniif harkaan mallattoo kenne.
34 Yommuu akka inni Yihuudii ta'e hubatanitti garuu isaan hundinuu sagalee tokkoon,
"Arxemiisiin warra Efesoon guddoo dha!" jedhanii gara sa'aatii lamaa iyyaa turan.
35 Barreessaan magaalaa sanaas uummata cal'isiisee akkana jedhe; "Yaa namoota
Efesoon, akka magaalaan Efesoon kun eegduu mana sagadaa Arxemiisi guddittiitii
fi fakkii ishee kan samii irraa bu'e sanaa taate namni hin beekne jiraa? 36 Kanaaf
waan namni dhugaa kana falmu hin jirreef isin cal'isuu qabdu; waan tokko illee
jarjarsuun hojjechuu hin qabdan. 37 Isaan mana sagadaa saamuu yookaan waaqittii
keenya arrabsuu baatan illee isin jara kana as fiddaniirtu. 38 Kanaaf Dimeexiroosii fi
ogeeyyiin isa wajjin jiran sun yoo waan ittiin nama tokko iyyuu himatan qabaatan
manneen murtii banaa dha; bulchitoonni biyyaas jiru. Isaan himata qaban achitti
haa dhi'eeffatan. 39 Yoo wanni biraa kan isin dhi'eeffachuu barbaaddan tokko iyyuu
jiraate garuu wanni sun yaa'ii seera qabeessa irratti ilaalama. 40 Nu wal ga'ii kanaaf
sababii dhi'eeffachuu dandeenyu waan hin qabneef goolii har'a ta'e kanatti akka

* **19:19** 19:19 meetii – beesseen meetii tokko mindaa hojjetaan tokko guyyaatti argatuu dha. † **19:24** 19:24 Arxemiisi – waaqittii tolfamtuu dhaltii; manni qulqullummaa ishee dinqiiwwan torban addunyaa durii keessaa tokko ture.

gaafatamnu sodaa qabna.” 41 Innis erga waan kana dubbatee booddee waldaa sana
gad lakkise.

# 20

### *Phaawulos Maqedooniyaa fi Giriik Dhaqe*

1 Phaawulos erga gooliin qabbanaa’ee booddee barattoota waamsisee isaan
jajjabeesse; “Nagaatti” isaaniin jedhees Maqedooniyaa dhaquuf ka’e. 2 Innis dubbii
nama jajjabeessu baay’ee uummatatti dubbachaa naannoo sana keessa darbee
dhuma irratti Giriik ga’e; 3 achis ji’a sadii ture. Akkuma inni dooniin Sooriyaa
dhaquuf ka’eenis sababii Yihuudoonni isatti malataniif karaa Maqedooniyaatiin
deebi’uuf kutate. 4 Beeriyaadhaa Soophaaxroos ilma Phiiyiroos, Tasaloniiqeedhaa
Arisxirokoosii fi Sekunduus, Darbeenii immoo Gaayoos isa wajjin deeman; akka-
sumas Xiimotewos, biyya Asiyaatii immoo Xikiqoosii fi Xiroofiimoos isa wajjin
deeman. 5 Namoonni kunneen nu dura darbanii Xiroo’aasitti nu eegan. 6 Ayyaana
Maxinoo booddee garuu Fiiliphisiyuusii dooniin kaanee bultii shan booddee warra
kaan wajjin Xiroo’aasitti wal arganne; achis guyyaa torba turre.

### *Awuxekiis Du’aa Kaafame*

7 Nus guyyaa jalqaba torban sanaatti buddeena caccabsuuf jennee walitti qabamne;
Phaawulos namootatti haasa’e. Innis waan guyyaa itti aanutti deemuu barbaadeef
hamma halkan walakkaatti haasaa dheeresse. 8 Gulantaa darbii iddoo nu itti walitti
qabamne keessa ibsaa baay’eetu ture. 9 Dargaggeessi Awuxekiis jedhamu tokkos
foddaa irra taa’aa ture; yommuu Phaawulos haasaa dheeressettis hirribni cimaan isa
fudhate; utuu hirribaan of wallaalee jiruus darbii sadaffaa irraa kufe; isaanis reeffa
isaa lafaa fuudhan. 10 Phaawulosis gad bu’ee dargaggeessa sana irratti gombifamee
isa hammachuudhaan, “Lubbuun keessa jirtiitii hin rifatinaa!” jedhe. 11 Innis darbii
sanatti ol deebi’ee buddeena caccabsee nyaate; hamma lafti bariituttis yeroo dheeraa
isaan wajjin haasa’e achii deeme. 12 Namoonnis dargaggeessa sana jiraataa ta’ee
manatti geessan; baay’ees ni jajjabaatan.

### *Phaawulos Jaarsolii Waldaa Kiristaanaa Efesoon Gorse*

13 Nus Phaawulosin achii fuudhuuf jennee duraan dursinee gara doonii dhaqnee
dooniidhaan Asoositti qajeelle; Phaawulos miillaan deemuuf jedhee ofuma isaatii
waan kana karoorfatee tureetii. 14 Asoosittis isaan wal arginee dooniidhaan Miixi-
iliinitti dabarre. 15 Guyyaa itti aanuttis dooniin achii kaanee fuullee Kiiyos geenye;
guyyaa tokko booddees Saamoositti baane; guyyaa itti aanu immoo Miilexoos geenye.
16 Phaawulosis yoo danda’ameef waan guyyaa Pheenxeqoosxeetiin Yerusaalem
ga’uuf ariifateef akka biyya Asiyaa keessatti yeroon isa duraa hin dhumneef jedhee
dooniidhaan Efesoon bira darbee deemuu murteeffatee ture.
17 Innis Miilexoosii Efesoonitti nama ergee jaarsolii waldaa kiristaanaa ofitti
waamsise. 18 Isaan gara isaa dhufnaan akkana jedheen; “Ani gaafan biyya Asiyaa
dhufe kan duraatii jalqabee yeroon isin wajjin jiraachaa ture sana hunda haala
akkam keessa akka ani jiraachaa ture isin mataan keessan iyyuu beektu. 19 Ani yoon
mala Yihuudootaatiin akka malee qorame illee gad of qabiisa guddaa fi imimmaaniin
Gooftaa tajaajileera. 20 Utuu waan faayidaa isinii qabu tokko illee lallabuu irraa of
hin qusatin akka ani mana tokkoo gara mana kaanii deemee ifatti baasee isin barsiise
isinuu beektu. 21 Ani akka Yihuudoonnii fi Giriikonni qalbii jijjiirrachuudhaan
gara Waaqaatti deebi’anii fi akka isaan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoositti amanan
isaanitti himeera.
22 “Ammas ani utuu waan achitti narra ga’uuf jiru hin beekin Hafuuraan dirqamee
Yerusaalem dhaquuttin jira. 23 Hafuurri Qulqulluun immoo akka hidhamuu fi

rakkachuun na eeggatu magaalaa hunda keessatti dhugaa naa ba'a. 24 Ta'us ani
fiigicha sana xumuruu fi hojii Gooftaa Yesuus natti kenne sana hobbaafachuuf jedhee
jireenya koo akka waan faayidaa hin qabneetti nan lakkaa'a; hojiin kunis wangeela
ayyaana Waaqaatiif dhugaa ba'uu dha.
25 "Ani akka isin warra ani keessa nanaanna'ee mootummaa Waaqaa lallabe
kanneen keessaa namni tokko iyyuu lammata na hin argine nan beeka. 26 Kanaafuu
ani dhiiga nama hundaa irraa qulqulluu ta'uu koo har'a isinitti nan hima. 27 Ani
fedhii Waaqaa hunda isinitti himuu irraa of hin qusanneetii. 28 Isin of eegaa; karra
hoolota Hafuurri Qulqulluun irratti Phaaphaasota isin godhe sanaa hundas eegaa.
Waldaa Kiristaanaa Waaqaa kan inni dhiiga ofii isaatiin bitate sanaafis tiksoota ta'aa.
29 Erga ani deemee booddee akka yeeyyiiwwan hamoon dhufanii gidduu keessan
seenan, akka isaan karra hoolotaa sana keessaa tokko illee hin hambifnes ani beeka.
30 Isinuma keessaa iyyuu namoonni barattoota of faana fudhachuuf jedhanii dubbii
micciiramaa dubbatan ni ka'u. 31 Kanaafuu isin of eeggadhaa! Akka ani waggaa sadii
halkanii guyyaa utuu gargar hin kutin imimmaaniin tokkoo tokkoo keessan gorsaa
ture yaadadhaa.
32 "Ani amma Waaqatti, akkasumas dubbii ayyaana isaa kan isin ijaaruu danda'uu
fi kan warra qulqullaa'an hunda keessatti dhaala isinii kennuu danda'u sanatti isinin
kennadha. 33 Ani meetii yookaan warqee yookaan uffata nama tokkoo iyyuu hin
kajeelle. 34 Akka ani harkuma koo kanaan hojjedhee waan naa fi warra na wajjin
jiraniif barbaachisu argamsiise isin mataan keessan iyyuu ni beektu. 35 Ani waan
hojjedhe hunda keessatti nu dubbii Gooftaa Yesuus mataan isaa, 'Fudhachuu irra
kennuutu eebba qaba' jedhee dubbate sana yaadachaa hojii jabaa akkanaatiin akka
warra dadhabaa gargaaruu qabnu isin argisiiseera."
36 Innis waan kana dubbatee isaan hunda wajjin jilbeenfatee Waaqa kadhate.
37 Hundi isaaniis akka malee boo'aa morma Phaawulositti marmanii isa dhungatan.
38 Wanni akka malee isaan gaddisiise akka isaan yeroo sanaa jalqabanii lammata isa
hin argine dubbachuu isaa ti. Ergasii isaan hamma dooniitti isa geggeessan.

# 21

*Phaawulos Yerusaalem Dhaqe*

1 Erga isaaniin gargar baanee booddees dooniidhaan kaanee utuu mirgaa bitaatti
hin gorin Qoositti qajeelle. Guyyaa itti aanutti Roodees dhaqnee achii immoo
Phaaxaraatti dabarre. 2 Doonii Finiiqeetti ce'u tokkos argannee isa yaabbannee
adeemsa itti fufne. 3 Yommuu Qophiroosin arguu dandeenyetti, harka bitaatti ishee
dhiifnee Sooriyaatti qajeelle; nus iddoo dooniin keenya fe'iisa isaa itti buufachuuf
ture Xiiroositti irraa buune. 4 Achitti barattoota argannee guyyaa torba isaan bira
turre. Isaanis akka Phaawulos Yerusaalem hin dhaqneef Hafuura Qulqulluun isa
akeekkachiisan. 5 Garuu yeroon keenya dhumnaan achii kaanee deemsa keenya itti
fufne; barattoonni hundinuu niitota isaaniitii fi ijoollee isaanii wajjin magaalattii
keessaa nu baasanii nu geggeessan; nus qarqara galaanaatti jilbeenfannee kadhanne.
6 Erga nagaatti waliin jennee booddees doonii yaabbanne; isaan immoo mana
isaaniitti deebi'an.
7 Xiiroosii kaanee adeemsa keenya itti fufuudhaan Phitolemaayisitti galle; achittis
obboloota dubbifnee guyyaa tokko isaan bira oolle. 8 Guyyaa itti aanutti achii kaanee
Qiisaariyaa geenye; achittis mana lallabaa wangeelaa tokkoo mana Fiiliphoos isa
warra torbaan keessaa tokko ture sanaa dhaqnee isa bira turre. 9 Innis ijoollee durbaa
kanneen hin heerumin afur qaba ture; isaanis raajii dubbatu turan.
10 Erga nu guyyaa hedduu achi turree booddee raajiin Agaaboos jedhamu tokko
Yihuudaadhaa gad bu'e. 11 Innis gara keenya dhufee sabbata Phaawulos fuudhee

harkaa fi miilla ofii isaa hidhee, “Hafuurri Qulqulluun, ‘Yihuudoonni Yerusaalem jiraatan abbaa sabbata kanaa akkanatti hidhanii dabarsanii Namoota Ormaatti isa kennu’ jedha” jedhe.
12 Nus yommuu waan kana dhageenyetti akka Phaawulos Yerusaalemitti ol hin baaneef namoota achi jiran wajjin isa kadhanne.
13 Phaawulos immoo deebisee, “Isin maaliif boossanii garaa na raaftu? Ani maqaa Gooftaa Yesuusiitiif jedhee Yerusaalemitti hidhamuu qofa utuu hin ta’in du’uuf illee qophaa’eeraatii” jedhe.
14 Yommuu inni nuu sarmuu didettis, “Fedhiin Gooftaa haa ta’u” jennee dhiifne.
15 Guyyoota kanneen booddees qophoofnee Yerusaalemitti ol baane.
16 Barattoonni Qiisaariyaa keessaa tokko tokko nu miiltessanii gara mana Minaason nu geessan; innis nama Qophiroos kan barattoota durii keessaa tokko turee dha.

### *Phaawulos Yerusaalem Ga’e*

17 Yommuu nu Yerusaalem geenyetti obboloonni gammachuudhaan nu simatan.
18 Guyyaa itti aanuttis Phaawulos nu wajjin Yaaqoob bira dhaqe; jaarsoliin hundinuus achi turan.
19 Phaawulosis nagaa isaan gaafatee waan Waaqni tajaajila inni kenneen Namoota Ormaa keessatti hojjete hunda tokko tokkoon isaanii ibse.
20 Isaan yommuu waan kana dhaga’anitti Waaqa galateeffatan. Phaawulosiinis akkana jedhan; “Yaa obboleessa, ati akka Yihuudoonni kuma hedduun amanan ni argita; hundi isaaniis hinaaffaa seeraaf qabu.
21 Ati akka Yihuudoonni Namoota Ormaa keessa jiraatan hundinuu ilmaan isaanii dhagna hin qabnee fi akka isaan akka duudhaa keenyaatti hin jiraanne itti himtee akka isaan seera Musee irraa gara galan barsiisuun kee isaanitti himameera.
22 Isaan akka ati dhufte dhugumaan ni dhaga’u; egaa maal gochuu wayya?
23 Kanaaf ati waan nu sitti himnu godhi; namoonni wareega of irraa qaban afur nu bira jiru.
24 Akka isaan mataa isaanii haaddataniif namoota kanneen ofitti fuudhiitii isaan wajjin of qulqulleessiitii baasii isaanii ati baasi. Kanaanis namoonni hundinuu akka oduun waa’ee kee odeeffame sun dhugaa hin ta’in, akka ati mataan kee iyyuu seeraaf ajajamtee jiraattu ni beeku.
25 Waa’ee Namoota Ormaa kanneen amananii immoo akka isaan nyaata waaqota tolfamoof aarsaa dhi’eeffame, dhiiga, foon horii hudhamee du’eetii fi sagaagalummaa lagataniif nu murtii keenya isaaniif barreessineerra.”
26 Phaawulosis guyyaa itti aanutti namoota sana ofitti fuudhee isaan wajjin of qulqulleesse; ergasii immoo gaafa guyyoonni qulqullaa’ummaa* sun itti xumuramanii fi yeroo itti aarsaan maqaa tokkoo tokkoo isaaniitiin dhi’eeffamuu malu beeksisuuf mana qulqullummaa seene.

### *Phaawulos Qabame*

27 Yommuu guyyoonni torban sun xumuramuu ga’anitti Yihuudoonni biyya Asiyaatii dhufan tokko tokko Phaawulosin mana qulqullummaa keessatti argan. Isaanis nama hundumaa kakaasanii isa qaban.
28 Iyyaniis, “Yaa namoota Israa’el nu gargaaraa! Namichi kun nama saba keenyaan mormaa, seera keenyaa fi mana qulqullummaa mormaa nama hunda iddoo hundatti barsiisuu dha. Kana malees inni Giriikota mana qulqullummaatti ol galchee iddoo qulqulluu kana xureesseera” jedhan.
29 Isaan waan duraan namicha Efesoon kan maqaan isaa Xiroofiimoos jedhamu tokko Phaawulos biratti magaalaa keessatti arganii turaniif, waan Phaawulos mana qulqullummaatti ol isa galche se’aniitii.
30 Magaalaan sunis guutummaatti ni raafamte; namoonnis karaa hundumaan fiigaa dhufan. Isaanis Phaawulosin qabanii lafa irra harkisaa mana qulqullummaatii gad

* **21:26** 21:26 guyyoonni qulqullaa’ummaa – Yeroo guyyoota torbaanii kan itti namoonni afran sirna Naazirummaa guuttatan sun utuu akka aadaatti aarsaa dhi’eessuuf jilaan hin qulqulleeffamin dura keessa darbuu malan argisiisa.

baasan; yommusuma karroonni cufaman. 31 Utuu isaan isa ajjeesuu yaalanuu akka
magaalaan Yerusaalem guutummaatti raafamaa jirtu oduun ajajaa waraana Roomaa
ga'e. 32 Innis yeruma sana loltootaa fi ajajjuuwwan dhibbaa tokko tokko fudhatee
fiigichaan isaanitti gad bu'e. Isaanis yommuu ajajaa sanaa fi loltoota isaa arganitti
Phaawulosin tumuu dhiisan.
33 Ajajaan sunis dhufee isa qabe; akka inni foncaa lamaan hidhamus ajaje; akka
inni eenyu ta'ee fi akka inni maal hojjechaa tures isa gaafate. 34 Tuuta sana keessaas
garri tokko waan tokko jedhanii iyyaa, garri kaan immoo waan biraa jedhanii iyyaa
turan; ajajaan sunis sababii waca namaatiif waan mirkana ta'e argachuu waan
dadhabeef akka Phaawulos gara qubata loltootaatti geeffamu ajaje. 35 Phaawulos
gulantaa ittiin gad ba'an bira geenyaan sababii goolii namootaatiif loltoonni isa
baatan. 36 Namoonni hedduunis, "Isa ajjeesi!" jedhanii iyyaa duukaa bu'an.

### *Dubbii Phaawulos Uummatatti Dubbate*
*22:3-16 kwf – Hoj 9:1-22; 26:9-18*

37 Phaawulos yommuu loltoonni isa fuudhanii qubata loltootaatti ol isa galchuuf
jedhanitti, ajajaa sanaan, "Akka ani waa sitti himu naa eeyyamtaa?" jedhee gaafate.
Ajajaan sun immoo deebisee akkana jedhe; "Ati afaan Giriik ni dubbattaa? 38 Ati
namicha biyya Gibxi kan dhi'eenya kana goolii kaasee shororkeessitoota† 4,000
fudhatee gammoojjiitti gale sana mitii?"
39 Phaawulosis, "Ani Yihuudii Xarsees magaalaa beekamtuu Kiilqiyaa keessaa sanaa
ti. Maaloo, akka ani namoota kanatti dubbadhu naa eeyyami" jedhee deebise.
40 Phaawulos akkuma eeyyama ajajaa sanaa argateen gulantaa sana irra dhaabatee
akka namoonni cal'isaniif harkaan mallattoo kenne; yommuu isaan hundinuu
cal'isanitti immoo afaan Araamaayikiitiin akkana jedheen.

## 22

1 "Yaa obbolootaa fi abbootii, falmata ani amma isin duratti dhi'eeffadhu kana mee
naa dhaga'aa."
2 Jarris yommuu isaa afaan Ibraayisxiitiin isaanitti dubbatu dhaga'anitti kan duraa
illee caalaa cal'isan.
Phaawulosis akkana jedhe; 3 "Ani Yihuudii dha; magaalaa Xarsees ishee biyya
Kiilqiyaa keessaa sanattin dhaladhe; garuu Yerusaalemittin guddadhe. Miilla
Gamaaliyaal jalattis seera Abbootii keenyaa akka gaariitti baradhee, akkuma isin
hundi har'a hinaaftan kana anis Waaqaaf nan hinaafa ture. 4 Dhiiraa fi dubartii
qabee, mana hidhaa keessa isaan buusuudhaan duuka buutota karaa kanaa hamma
du'aatti ari'adheera; 5 waan kanas lubni ol aanaanii fi waldaan jaarsolii guutuun
ragaa naa ba'u. Anis xalayoota isaan gara obboloota warra Damaasqoo jiraniitti
barreessan fudhadheen akka namoonni kunneen adabamaniif hidhee Yerusaalemitti
isaan fiduuf achi nan dhaqe.
6 "Gara saafaatti, akkuma ani Damaasqootti dhi'aadheen ifni guddaan isaa akkuma
tasaa samii irraa naannoo kootti balaqqise. 7 Anis lafatti kufeen sagalee, 'Yaa Saa'ol!
Yaa Saa'ol! Ati maaliif na ari'atta?' naan jedhu tokkon dhaga'e.
8 "Anis, 'Yaa Gooftaa ati eenyu?' jedheen gaafadhe.
"Inni immoo deebisee, 'Ani Yesuus nama Naazreeti isa ati ari'attuu dha' naan jedhe.
9 Warri na wajjin turanis ifa sana argan malee sagalee isa natti dubbachaa ture sanaa
hin hubanne.
10 "Anis, 'Yaa Gooftaa, ani maal godhu ree?' jedhee gaafadhe.

---

† **21:38** 21:38 shororkeessitoota – namoonni kunneen finciltoota ciccimoo akka diinota warra Roomaattii fi akka diinota Yihuudoota warra Roomaa deeggaraniitti of ilaalan hundaatti of lakkaa'anii dha. Isaanis yeroo ayyaana gara garaatti saba kaanitti makamanii diinota isaanii ajjeesaa turan.

"Gooftaanis, 'Ka'ii Damaasqoo seeni. Wanni akka ati hojjettuuf siif kaa'ame
hundinuu achitti sitti himamaatii' naan jedhe. 11 Anis sababii calaqqisa ifa sanaatiif
homaa arguu dadhabnaan, warri na wajjin turan harka qabanii Damaasqootti na
geessan.
12 "Namichi Anaaniyaas jedhamu kan sirriitti seera eegu tokko Yihuudoota achi
jiraatan hunda biratti maqaa gaarii qaba ture. 13 Innis gara koo dhufee na bira
dhaabatee, 'Yaa obboleessa koo Saa'ol, agartuun kee siif haa deebi'u!' naan jedhe;
agartuun koos yeruma sana naa deebi'e. Anis isa arguu danda'e.
14 "Innis akkana jedhe; 'Waaqni abbootii keenyaa akka ati fedhii isaa beektu, akka
ati Isa Qajeelaa sana argituu fi akka afaan isaa irraa dubbii dhageessuuf si filateera.
15 Atis waan argitee fi waan dhageesse sana fuula nama hundumaa duratti isaaf
dhugaa ni baata. 16 Egaa amma maal eegda ree? Ka'ii maqaa isaa waammachaa
cuuphamiitii cubbuu kee of irraa dhiqi.'
17 "Anis Yerusaalemitti deebi'ee utuu mana qulqullummaa keessatti kadhannaatti
jiruu akka waan of wallaaluu nan ta'e. 18 Gooftaa illee isaa, 'Jarri kun waan ati waa'ee
koo dhugaa baatu hin fudhataniitii dafii ammuma Yerusaalem keessaa ba'i!' jedhee
natti dubbatu nan arge.
19 "Anis deebiseen akkana jedhe; 'Yaa Gooftaa jarri kun akka ani warra sitti amanan
hidhuu fi tumuuf jedhee mana sagadaa tokko irraa gara isa biraatti darbaa ture
beeku. 20 Yeroo dhiigni dhuga baatuu keetii, dhiigni Isxifaanos dhangalaafamettis
ani ajjeefamuu isaatti namootaan walii galee achi dhaabadheen uffata warra isa
ajjeesanii eegaa ture.'
21 "Gooftaanis, 'Ani fagootti, gara Namoota Ormaatti sin ergaatii deemi' naan
jedhe."

### *Phaawulos Akka Lammii Roomaa Ta'e Ibse*

22 Namoonni sunis hamma inni dubbii kana dubbatutti isa dhaga'aa turan; ergasiis
sagalee isaanii ol fudhatanii, "Namni akkanaa jiraachuu hin qabuutii lafa irraa
balleessaa!" jedhanii iyyan.
23 Utuu isaan uffata isaanii dadarbatanii, awwaaras qilleensa keessa bibittin-
neessanii iyyanuu, 24 ajajaan sun akka Phaawulos qubata loltootaatti ol galfamuu
ajaje; innis waan namoonni akkas isatti iyyaniif beekuuf jedhee akka Phaawulos
garafamee qoratamu ajaje. 25 Phaawulos immoo yommuu isaan isa garafuuf* jedhanii
teephaan isa hidhanitti ajajaa dhibbaa kan isa bira dhaabachaa tureen, "Lammii
Roomaa tokko murtii malee garafuun isiniif ni eeyyamamaa?" jedhe.
26 Ajajaan dhibbaa sunis yommuu waan kana dhaga'etti gara ajajaa kumaa sanaa
dhaqee, "Namichi kunoo lammii Roomaatii ati maal gochuu yaadda?" jedheen.
27 Ajajaan kumaa sunis Phaawulos bira dhaqee, "Mee natti himi; ati lammii
Roomaatii?" jedhee gaafate.
Innis, "Eeyyee" jedhee deebise.
28 Ajajaan kumaa sunis, "Ani lammummaa kana argachuudhaaf gatii guddaa
baase" jedhe.
Phaawulos immoo deebisee, "Ani garuu ittin dhaladhe" jedhe.
29 Warri isa qoruuf yaadanis yommusuma isa irraa deebi'an; ajajaan kumaa
sunis yommuu akka Phaawulos lammii Roomaa ta'ee fi akka ofii isaatii immoo
Phaawulosin foncaan hidhe hubatetti ni rifate.

### *Phaawulos Yaa'ii Yihuudootaa Duratti Dhi'aate*

* **22:25** 22:25 garafuuf – gochi kun akka adabbiitti utuu hin ta'in karaa ittiin nama tokko qoratanii yookaan rakkisanii akka inni dhugaa baasu mirkaneessuuf itti fayyadamanii dha. Gochi kun garba yookaan maxxantuu irratti raawwatama malee lammii Roomaa tokko irratti hin raawwatamu ture.

30 Ajajaan kumaa sun sababii Yihuudoonni Phaawulosin himataniif sirriitti beekuu
fedhee guyyaa itti aanu isa hiikee akka luboonni hangafoonnii fi waldaan Yihuu-
dootaa hundi walitti qabaman ajaje. Ergasii immoo Phaawulosin fidee akka inni
fuula isaanii duratti dhi'aatu godhe.

# 23

1 Phaawulos xiyyeeffatee yaa'ii sana ilaalee, "Yaa obboloota ko, ani hamma guyyaa
har'aatti fuula Waaqaa dura yaada gaariidhaan jiraadheera" jedhe. 2 Kana irratti
Anaaniyaas lubni ol aanaan akka warri Phaawulos bira dhaabachaa turan sun afaan
isaa keessa dha'an ajaje. 3 Phaawulosis deebisee, "Ati keenyan nooraa dibame,
Waaqni si rukuta! Seeraan natti muruuf jettee achi teessee atumti mataan kee immoo
akka ani dha'amu ajajuudhaan seera cabsitaa?" jedhe.
4 Warri Phaawulos bira dhaabachaa turanis; "Ati akkam luba Waaqaa ol aanaa
tokko arrabsita?" jedhaniin.
5 Phaawulos immoo deebisee, "Yaa obboloota, ani akka inni lubicha ol aanaa
ta'e hin beekne; 'Waa'ee bulchaa saba keetii hamaa hin dubbatin' jedhamee
barreeffameeraatii"* jedhe.
6 Phaawulos yommuu akka isaan keessaa garri tokko Saduuqota, garri kaan immoo
Fariisota ta'an beeketti, "Yaa obboloota ko, ani Fariisicha ilma Fariisii ti. Ani sababii
akka warri du'an du'aa ka'an abdadhuuf qoramuuf dhi'aadheera" jedhe. 7 Yommuu
inni waan kana dubbatetti Fariisotaa fi Saduuqota gidduutti falmiin uumame;
yaa'iin sun gargar qoodame. 8 Saduuqonni, "Du'aa ka'uun hin jiru, ergamoonnis,
hafuuronnis hin jiran" jedhu; Fariisonni garuu akka kunneen hundinuu jiran amanu.
9 Wacni guddaanis uumame; barsiistonni seeraa tokko tokkos garee Fariisotaa
keessaa ka'anii, "Nu balleessaa tokko illee namicha kana irratti hin arganne; Hafuura
yookaan ergamaa Waaqaatu isatti dubbate ta'innaa?" jedhanii cimsanii dubbatan.
10 Ajajaan kumaa sunis yommuu falmiin jabaachaa deemetti jarri kun Phaawulosin
cicciru jedhee sodaate. Kanaaf akka loltoonni dhaqanii humnaan achii isa fuudhanii
qubata loltootaatti ol galchan ajaje.
11 Gooftaanis halkan itti aanutti Phaawulositti mul'atee, "Jabaadhu! Akkuma
Yerusaalem keessatti waa'ee koo dhugaa baate sana Roomaa keessattis dhugaa ba'uu
qabdaatii" jedheen.

### *Maree Phaawulos irratti Mari'atame*

12 Yihuudoonni tokko tokko barii guyyaa itti aanuu mari'atanii akka hamma
Phaawulosin ajjeesanitti waa hin nyaanne yookaan waa hin dhugne walii kakatan.
13 Namoota afurtamaa oltu maree kana irratti hirmaate. 14 Isaanis gara luboota
hangafootaatii fi gara maanguddootaa dhaqanii akkana jedhan; "Nu hamma
Phaawulosin ajjeefnutti akka homaa afaaniin hin qabne jabeessinee kakanneerra.
15 Kanaafuu isinii fi waldaan Yihuudootaa waan waa'ee Phaawulos sirriitti cim-
sitanii qorachuu barbaaddan fakkeessaatii akka ajajaan kumaa sun Phaawulosin
gara keessanitti gad ergu kadhadhaa; nu utuu inni achi hin ga'in isa ajjeesuuf
qophoofneerraatii."
16 Garuu ilmi obboleettii Phaawulos yommuu maree kana dhaga'etti qubata
loltootaatti ol galee Phaawulositti hime.
17 Phaawulosis ajajjuuwwan dhibbaa keessaa nama tokko waamee, "Dargaggeessi
kun waan isatti himu qabaatii mee ajajaa kumaatti isa geessi" jedheen. 18 Innis ajajaa
kumaa sanatti isa geesse.
Ajajaan dhibbaa sunis, "Phaawulos inni mana hidhaa jiru sun na waamsisee waan
dargaggeessi kun waan sitti himu qabuuf akka ani isa sitti fidu na kadhate" jedheen.

* **23:5** 23:5 Bau 22:28

19 Ajajaan kumaas dargaggeessa sana harka qabee kophaatti baasee, “Wanni ati
natti himuu barbaaddu maali?” jedhee gaafate.
20 Dargaggeessi sunis akkana jedhe; “Yihuudoonni waan waa’ee isaa sirriitti
cimsanii qoruu barbaadan fakkeessanii akka ati Phaawulosin bori gara yaa’ii
Yihuudootaatti gad ergitu si kadhachuuf walii galaniiru. 21 Waan isaan keessaa
namoonni afurtamaa oli ta’an riphanii isa eeggachaa jiraniif ati isaan jalaa hin
qabin. Isaan akka hamma isa ajjeesanitti homaa hin nyaanne yookaan hin dhugne
kakataniiru; qophaa’aniis eeyyama kee eeggachaa jiru.”
22 Ajajaan kumaa sunis, “Ati akka waan kana natti himte nama tokkotti iyyuu hin
dubbatin” jedhee dargaggeessa sana akeekkachiisee gad dhiise.

*Phaawulos Qiisaariyaatti Dabarfame*

23 Ergasii inni ajajjuuwwan dhibbaa keessaa nama lama waamee akkana jedhee
ajaje; “Akka loltoonni dhibbi lama, abbootiin fardaa torbaatamnii fi warri eeboo
qabatan dhibbi lama edana sa’aatii sadiitti Qiisaariyaa dhaqaniif qopheessaa.
24 Phaawulosiifis farda inni yaabbatu qopheessaatii gara Feeliksi Bulchaa Biyyaatti
nagaan geessaa.”
25 Innis akkana jedhee xalayaa tokko barreesse.

26 Qilaawudewoos Liisiiyaas irraa,
Gara bulchaa kabajamaa, gara Feeliksi:
Nagaa jirtaa.

27 Yihuudoonni namicha kana qabanii ajjeesuu barbaadaa turan; ani garuu akka
inni lammii Roomaa ta’e beekee loltoota koo wajjin dhaqee isa baase. 28 Anis waan
isaan isa himataniif beekuu barbaadeen fuula waldaa isaanii duratti isa dhi’eesse.
29 Ani akka inni waa’ee gaaffii seera isaaniitiin himatame arge malee akka inni
waan du’aan yookaan hidhaan isa ga’u tokkumaanuu himatame hin argine. 30 Ani
yeroo akka isaan namicha sanatti mari’atan dhaga’etti dafee isa sitti erge. Warra
isa himatanis akka isaan himata isaanii sittan dhi’eeffatan ajajeera.

31 Kanaaf loltoonni sun akkuma ajajaman sana Phaawulosin fuudhanii halkaniin
Antiiphaaxriisitti geessan. 32 Isaanis guyyaa itti aanutti akka abbootiin fardaa isa
wajjin deeman godhanii ofii immoo qubata loltootaatti deebi’an. 33 Abbootiin fardaa
sunis yommuu Qiisaariyaa ga’anitti xalayaa sana bulchaatti kennan; Phaawulosinis
fuula isaa dura dhi’eessan. 34 Bulchaan sunis erga xalayaa sana dubbifatee booddee,
akka inni biyya kamii dhufe isa gaafate. Yommuu akka inni Kiilqiyaadhaa dhufe
beekettis, 35 “Ani yeroo himattoonni kee as ga’anitti dubbii kee nan dhaga’a” jedhe.
Innis ergasii akka Phaawulos masaraa Heroodis keessatti eegamus ajaje.

# 24

*Phaawulos Fuula Feeliksi Duratti*

1 Guyyaa shan booddee Anaaniyaas lubni ol aanaan maanguddoota tokko tokkoo
fi abukaattoo Xerxuloos jedhamu tokko wajjin Qiisaariyaatti gad bu’e; isaanis waan
ittiin Phaawulosin himatan bulchaa duratti dhi’eeffatan. 2 Yommuu Phaawulos waa-
mamee ol galetti, Xerxuloos akkana jedhee himata isaa Feeliksi duratti dhi’eeffate;
“Yaa Feeliksi kabajamaa, nu bara kee keessa yeroo dheeraa nagaan jiraanneera;
ogummaan kees saba kanaaf geeddarama fideera. 3 Yaa Feeliksi kabajamaa, nu waan
kana karaa hundumaa fi iddoo hundatti galata guddaadhaan ni fudhanna. 4 Garuu
ani akka hammana irra si hin dadhabsiifneef akka ati gabaabumatti gara laafinaan
nu dhageessu sin kadhadha.
5 “Nu akka namichi kun dhukkuba hamaa ta’ee Yihuudoota addunyaa guutuu irra
jiran hunda keessatti goolii kaasaa jiru argineerra. Inni hoogganaa garee Naazirootaa
ti. 6 Inni mana qulqullummaa iyyuu xureessuu yaaleera; nu immoo akka seera

keenyaatti itti muruuf jennee isa qabne. [ 7 Garuu Luusiyoos ajajaan kumaa sun
dhufee humna guddaan harka keenya keessaa isa baase; akka himattoonni isaa fuula
kee duratti dhi'aatanis ni ajaje.]* 8 Ati mataan kee iyyuu isa qoruudhaan waa'ee waan
nu isa himannu kanaa hunda beekuu ni dandeessa."
9 Yihuudoonnis akka dubbiin kun dhugaa ta'e mirkaneessanii himata sana
deeggaran.
10 Phaawulosis yommuu bulchaan sun akka inni dubbatuuf harkaan mallattoo
kenneefitti akkana jedhee deebii kenne; "Ani waan akka ati waggoota hedduuf abbaa
murtii saba kanaa taate beekuuf falmii koo gammachuudhaan nan dhi'eeffadha.
11 Akkuma ati rakkoo malee mirkaneeffachuu dandeessu ani waaqeffachuuf jedhee
Yerusaalemitti ol ba'uun koo guyyaa kudha lama hin caalu. 12 Warri na himatan kun
anaa mana qulqullummaa keessatti yookaan manneen sagadaa keessatti yookaan
magaalaa keessatti nama tokkoon illee falmu yookaan uummata kakaasu na hin
arganne. 13 Isaan waan amma ittiin na himachaa jiran kanas siif mirkaneessuu
hin danda'an. 14 Ta'us ani akka nama karaa isaan garee mormitootaa jedhaniin
sana duukaa bu'u tokkootti akka Waaqa abbootii keenyaa waaqeffadhu fuula kee
duratti nan amana. Waan seera Museetiin walii galuu fi waan kitaabota raajotaa
keessatti barreeffame hundas nan amana. 15 Anis akkuma jara kanaa akka du'aa
ka'uun qajeeltotaatii fi hamootaa jiraatu Waaqa nan abdadha. 16 Kanaafuu ani akka
yeroo hunda Waaqaa fi nama duratti yaada qulqulluu qabaadhu nan tattaaffadha.
17 "Anis bara baay'ee hiyyeeyyii saba kootiitiif gargaarsa kennuuf, Waaqaafis
aarsaa dhi'eessuuf jedhee Yerusaalem dhufe. 18 Yeroo ani waan kana hojjechaa
turettis isaan anaa qulqullaa'ee jiru mana qulqullummaa keessatti na argan. Tuunni
tokko iyyuu na bira hin turre; anis goolii keessatti hin hirmaanne. 19 Garuu
Yihuudoonni biyya Asiyaa kanneen yoo waan ittiin na himatan tokko illee narraa
qabaatan si duratti as dhi'aatanii na himachuu malan tokko tokko jiru. 20 Yookaan
warri as jiran kunneen yakka yeroo ani fuula Waldaa Yihuudootaa dura dhaabadhe
sana narratti argan haa himan; 21 waan ani yeroo fuula isaanii dura dhaabadhe sana
iyyee, 'Ani har'a waa'ee du'aa ka'uu warra du'anii irratti qoramuuf jedhee fuula
keessan dura dhaabadheera' jedhe tokkicha sana malee yoo jiraate haa himan."
22 Feeliksi garuu waan waa'ee Karaa sanaa sirriitti beekuuf, "Ani gaafa Liisiiyaas
ajajaan kumaa sun dhufutti dubbii keessan nan murteessa" jedhee yeroo biraatti
dabarse. 23 Innis akka ajajaan dhibbaa sun Phaawulosin eegumsa jala tursu, garuu
akka haala isaa itti furuu fi akka michoonni isaas waan isa barbaachisu kam iyyuu
isaaf dhi'eessan eeyyamuuf ajaje.
24 Feeliksis bultii muraasa booddee niitii isaa Diruusiilaa ishee Yihuudii turte
wajjin dhufe; innis Phaawulosin waamsisee isaa waa'ee Kiristoos Yesuusitti amanuu
dubbatu dhaggeeffate. 25 Yommuu Phaawulos waa'ee qajeelummaa, waa'ee of
qabuutii fi waa'ee murtii kan dhufuuf jiru sanaa dubbatetti Feeliksi sodaatee,
"Ammaaf ni ga'aatii deemi! Yommuu naa mijaa'utti anuu sin waamsisaatii" jedhe.
26 Yeroodhuma sanattis inni akka waan Phaawulos matta'aa isaaf kennuutti waan
abdachaa tureef ammuma amma waamsisee isa wajjin haasa'aa ture.
27 Phoorqiyoos Fesxoos erga waggaan lama darbee booddee iddoo Feeliksi qabate;
Feeliksis waan Yihuudoota gammachiisuu barbaadeef Phaawulosin manuma hid-
haatti dhiise.

## 25

### *Phaawulos Fuula Fesxoos Duratti Qorame*

* **24:7** 24:7 Waraabbileen durii tokko tokko luqqisaa 7 hin qaban.

1 Fesxoosis biyya sana ga’ee guyyaa sadii booddee Qiisaariyaadhaa Yerusaalemitti
ol ba’e; 2 achittis luboonni hangafoonnii fi dura bu’oonni Yihuudootaa fuula isaa
duratti dhi’aatanii himata Phaawulos irraa qaban dhi’eeffatan. 3 Isaanis waan
karaatti riphanii Phaawulosin ajjeesuuf qophaa’aa turaniif akka Fesxoos isaan
deeggaree nama ergee gara Yerusaalem isa fichisiisu kadhatan. 4 Fesxoos immoo
akkana jedhee deebise; “Phaawulos Qiisaariyaatti eegamaa jira; ani mataan koo
iyyuu dhi’eenyatti achi nan dhaqa. 5 Kanaafuu abbootii taayitaa keessan keessaa
tokko tokko na wajjin deemanii yoo namichi sun balleessaa wayii qabaate achitti isa
haa himatan.”
6 Innis erga guyyaa saddeeti yookaan kudhan isaan bira bubbulee booddee
Qiisaariyaatti gad bu’e; guyyaa itti aanuttis barcuma murtii irra taa’ee akka
Phaawulos fuula isaa duratti dhi’eeffamu ajaje. 7 Yommuu Phaawulos dhi’aatettis
Yihuudoonni Yerusaalemii gad bu’an sun isatti naanna’anii dhaabachuun himata
ciccimaa hedduu isa irratti dhi’eessan; garuu amansiisuu hin dandeenye.
8 Phaawulosis, “Ani seera Yihuudootaa irratti yookaan mana qulqullummaa irratti
yookaan Qeesaar irratti yakka tokko illee hin hojjenne” jedhee falmate.
9 Fesxoosis Yihuudoota gammachiisuuf jedhee Phaawulosiin, “Ati Yerusaalemitti ol
baatee himata kana irratti fuula koo duratti qoratamuu ni feetaa?” jedhe.
10 Phaawulos garuu akkana jedhee deebise; “Ani amma barcuma murtii Qeesaar
dura, iddoo itti qoratamuu qabu dhaabadheen jira; akkuma ati mataan kee iyyuu
sirriitti beektu ani yakka tokko illee Yihuudoota irratti hin hojjenne. 11 Ta’us ani
utuu balleessaa du’a natti mursiisu tokko illee hojjedhee silaa du’a jalaa ba’uuf hin
carraaqu; garuu yoo wanni Yihuudoonni kunneen ittiin na himatan dhugaa hin
ta’in, namni tokko iyyuu dabarsee harka isaaniitti na kennuuf mirga hin qabu. Ani
Qeesaaritti oli nan iyyadha!”
12 Fesxoosis erga gorsitoota isaa wajjin mari’atee booddee, “Ati Qeesaaritti ol
iyyatteerta; gara Qeesaar ni dhaqxa!” jedhe.

### *Fesxoos Gorsa Agriiphaa Gaafate*

13 Bultii muraasa booddee Agriiphaa mootichii fi Barniiqeen* Fesxoos simachuuf
Qiisaariyaa dhaqan. 14 Fesxoosis isaan guyyaa hedduu achi bubbullaan akkana
jedhee waa’ee himata Phaawulos mooticha wajjin dubbate; “Namichi Feeliksi
mana hidhaa keessatti dhiisee deeme tokko as jira. 15 Yeroo ani Yerusaalem
turetti luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni Yihuudootaa isa himatanii akka itti
muramu kadhatan.
16 “Anis akka namni kam iyyuu akka seera biyya Roomaatti utuu fuula himattoota
isaa duratti dhi’aatee himata sana mormachuuf carraa hin argatin dabarfamee
kennamuu hin qabne isaanitti himeera. 17 Kanaafuu ani yommuu isaan na wajjin as
dhufanitti barcuma murtii irra taa’een akka namicha natti fidan ajaje malee dubbii
sana lafa irra hin harkifne. 18 Himattoonni isaas yommuu dubbachuuf ka’anitti
yakka ani ittiin isa himatu jedhee eege keessaa tokko illee isa irratti hin dhi’eessine.
19 Garuu isaan waa’ee amantaa isaaniitii fi waa’ee namicha du’e kan Yesuus jedhamu
isa Phaawulos immoo, ‘Inni jiraataa dha’ jedhee falmuu tokkoo irratti wal dhaban.
20 Anis akka itti dubbii sana qoradhu wallaale; kanaaf inni Yerusaalem dhaqee
himata kana irratti qoratamuuf fedhii qabuu fi akka inni hin qabne isa gaafadhe.
21 Garuu yommuu Phaawulos murtii Awugisxoos Qeesaar argachuuf jedhee turfamuu
kadhatetti ani akka inni hamma ani Qeesaaritti isa ergutti eegamu nan ajaje.”
22 Agriiphaanis Fesxoosiin, “Ani mataan koo namicha kana dhaga’uu nan bar-
baada” jedhe.

---

* **25:13** 25:13 Barniiqeen – Barniiqeen obboleettii Agriiphaa ti; isheen dhirsii irraa duunaan mana obboleessaa jiraatte.

Inni immoo deebisee, “Bori isa dhageessa” jedheen.

### *Phaawulos Fuula Agriiphaa Duratti*
### *26:12-18 kwf – Hoj 9:3-8; 22:6-11*

23 Guyyaa itti aanuttis Agriiphaa fi Barniiqeen ulfina guddaan dhufanii Ajajju-
uwwan kumaatii fi gurguddoota magaalaa wajjin galma wal ga’ii seenan. Fesxoos
ajajnaan Phaawulosin ol galchan. 24 Fesxoosis akkana jedhe; “Yaa Agriiphaa
mooticha, warri nu wajjin as jirtan hundinuus isin namicha kana ni argitu! Hawaasni
Yihuudootaa guutummaatti, ‘Namichi kun si’achi jiraachuu hin qabu’ jedhanii
waa’ee isaa Yerusaalemittii fi as Qiisaariyaatti iyyanii na kadhatan. 25 Ani waan
du’aan isa ga’u kan inni hojjete tokko illee hin argine; ani garuu sababii inni
Awugisxoositti ol iyyateef gara Roomaatti isa erguu nan murteesse. 26 Ani waa’ee
namicha kanaa waan ifatti ba’e kan gooftaa kootiif barreessu tokko illee hin qabu;
kanaafuu ani erga isa qorannee booddee akka waan barreessu argadhuuf jedhee
fuula hunda keessanii duratti, keessumattuu yaa Agriiphaa mooticha, fuula kee
duratti isa dhi’eesseera. 27 Ani nama hidhame tokko utuu waan inni ittiin himatame
ifatti hin baasin ol dabarsuu qajeela hin se’uutii.”

## 26

1 Agriiphaan Phaawulosiin, “Akka ati ofii keetiif dubbattu siif eeyyamameera”
jedhe.

Phaawulosis harkaan mallattoo kennee akkana jedhee falmachuu jalqabe; 2 “Yaa
Agriiphaa Mooticha, ani sababii waan Yihuudoonni ittiin na himatan hunda
falmachuudhaaf jedhee har’a fuula kee dura dhaabadhuuf akka ayyaantuu tokkoottin
of ilaala. 3 Kunis waan ati duudhaa fi wal mormii Yihuudootaa hunda keessa
beektuufii dha. Kanaafuu ani akka ati obsaan na dhaggeeffattu sin kadhadha.

4 “Ani ijoollummaa kootii jalqabee saba koo keessatti, Yerusaalem keessattis
akkamitti akka jiraachaa ture Yihuudoonni hundinuu ni beeku. 5 Akka ani akka
Fariisicha tokkootti akkuma sirna garee akka malee amantaa keenyatti cichu sanaatti
jiraadhe isaanuu bara dheeraa waan na beekaniif, yoo fedhii qabaatan dhugaa
ba’uu ni danda’u. 6 Ammas ani waadaa Waaqni abbootii keenyaaf gale sana waan
abdadhuuf qoratamuuf dhi’aadheen as jira. 7 Waadaan kun isuma gosoonni keenya
kudha lamaan halkanii guyyaa Waaqa tajaajiluutti jabaatanii raawwatamuu isaa
arguu hawwan sanaa dha. Yaa Agriiphaa Mooticha, Yihuudoonnis sababuma abdii
kanaatiif na himachaa jiru. 8 Akka Waaqni warra du’an du’aa kaasu isin maaliif akka
waan hin amanamne tokkootti herregdu?

9 “Ani mataan koo iyyuu maqaa Yesuus nama Naazreetiitiin mormuudhaaf akka
waan danda’amu hunda gochuu qabu nan amana ture. 10 Wanni ani Yerusaalem
keessatti hojjedhes kanuma; ani taayitaa luboota hangafoota irraa argadheen
qulqulloota baay’ee mana hidhaatti naquu qofa utuu hin ta’in yeroo isaan ajjeefaman
iyyuu dubbicha irratti walii galaan ture. 11 Anis akka isaan adabamaniif yeroo
baay’ee mana sagadaa tokko irraa gara mana sagadaa biraatti darbaa, akka isaan
amantii isaanii arrabsaniifis isaan dirqisiisaan ture. Ani waan akka malee isaanitti
aaraa tureef hamma magaalaawwan biyya alaatti illee deemee isaan ari’achaan ture.

12 “Anis gaafa tokko kanumaaf jedhee taayitaa fi ergama luboota hangafoota biraa
fudhadhee utuun Damaasqoo deemaa jiruu, 13 yaa mooticha, ani utuman karaa
deemaa jiruu gara saafaatti ifa ifa aduu caalaa ibsu tokko isaa samii irraa naannoo
koottii fi naannoo warra na wajjin deemaniitti ibsu arge. 14 Hundi keenya lafatti
kukkufne; anis sagalee afaan Ibraayisxiitiin ‘Yaa Saa’ol, yaa Saa’ol, ati maaliif na
ari’atta? Arfii wayii dhiituun suma miidha’ naan jedhu tokkon dhaga’e.

15 “Anis, ‘Yaa Gooftaa ati Eenyu?’ jedheen gaafadhe.

“Gooftaanis deebisee akkana jedhe; ‘Ani Yesuus isa ati ari’attuu dha. [16] Amma ka’ii
miilla keetiin dhaabadhu. Ani akka ati tajaajilaa koo taatee, waa’ee koos waan argitee
fi waan ani sitti mul’isuuf jiru dhugaa baatuuf si muuduuf jedhee sitti mul’adheera.
[17] Ani saba keetii fi Namoota Ormaa kanneen gara isaaniitti si ergu jalaa sin baasa.
[18] Atis ija isaanii bantee dukkana keessaa gara ifaatti, humna Seexanaa jalaas gara
Waaqaatti isaan deebifta; kunis akka isaan dhiifama cubbuu argatanii fi akka isaan
warra natti amanuun qulqullaa’an gidduutti dhaala argataniif.’
[19] “Kanaafuu yaa Agriiphaa Mooticha, ani mul’ata samii irraa dhufe sanaaf
ajajamuu hin didne. [20] Anis akka isaan qalbii jijjiirratanii gara Waaqaatti
deebi’aniif, qalbii jijjiirrachuu isaaniis akka hojiidhaan mirkaneessaniif jalqabatti
warra Damaasqootti, warra Yerusaalemiitti, warra Yihuudaa guutuutti akkasumas
Namoota Ormaatti lallabeera. [21] Sababiin Yihuudoonni mana qulqullummaa keessatti
na qabanii na ajjeesuu yaalaniifis kanuma. [22] Ani garuu hamma guyyaa har’aatti
gargaarsa Waaqaa qaba; kanaafuu ani dhaabadhee xinnaa guddaaf dhugaa ba’aan
jira. Ani waan raajonnii fi Museen ‘Ni ta’a’ jedhanii dubbataniin alatti waan tokko
illee hin dubbadhu. [23] Kunis akka Kiristoos* dhiphachuu qabu, akka inni warra du’an
keessaa ka’uudhaan kan jalqabaa ta’ee saba isaatii fi Namoota Ormaatiif ifa labsuu
dha.”
[24] Utuma Phaawulos akkasitti falmachaa jiruu Fesxoos sagalee guddaan, “Phaawu-
los, ati maraatteerta! Barumsi kee guddaan sun si maraachisaa jira” jedheen.
[25] Phaawulosis akkana jedhee deebise; “Yaa Fesxoos kabajamaa, ani hin maraanne;
wanni ani dubbachaa jirus dhugaa dha; sirrii dhas. [26] Sababii mootichi waan kana
beekuuf, ani ifatti baasee isatti himuu nan danda’a. Sababii wanni kun suuqatti hin
hojjetaminiif ani akka waan kana keessaa tokko iyyuu isa duraa hin dhokatin nan
amana. [27] Yaa Agriiphaa Mooticha, ati raajota ni amantaa? Akka ati amantu ani iyyuu
beeka.”
[28] Agriiphaanis Phaawulosiin, “Ati yeruma gabaabaa keessatti Kiristaana na gochuu
yaaddaa?” jedhe.
[29] Phaawulosis deebisee, “Yeroo gabaabaattis ta’u dheeraatti, si qofa utuu hin ta’in
akka warri na dhaga’aa jiran hundinuu foncaa kanaan hidhamuu malee akkuma koo
akka ta’an ani Waaqa nan kadhadha” jedhe.
[30] Kana irratti mootichi, bulchaanii fi Barniiqeen, akkasumas warri isaan wajjin
tataa’aa turan ol ka’an. [31] Isaanis yeroo gad ba’anitti, “Namichi kun waan du’aan
yookaan hidhaan isa ga’u tokko illee hin hojjenne” wajjin jedhan.
[32] Agriiphaanis Fesxoosiin, “Namichi kun utuu Qeesaaritti ol iyyachuu baatee silaa
ni hiikama ture” jedhe.

# 27

*Phaawulos Roomaa Dhaqu Isaa*

[1] Yommuu dooniin Iixaaliyaa dhaquun keenya murteeffametti, Phaawulosii fi
warri hidhaman biraa ajajaa dhibbaa kan Yuuliyoos jedhamu tokkotti dabarfamanii
kennaman; innis miseensa kutaa waraanaa “Awugisxoos” jedhamu tokkoo ture. [2] Nus
doonii Adraamiixoosii ka’ee gara buufatawwan doonii kanneen qarqara galaana
biyya Asiyaa dhaquuf ka’e tokko yaabbannee deemuu jalqabne. Arisxirokoos
namichi Maqedooniyaa kan Tasaloniiqee jiraatu tokkos nu wajjin ture.
[3] Guyyaa itti aanutti Siidoonaatti galle; Yuuliyoosis Phaawulosiif garaa laafee
akka inni michoota isaa bira dhaqee waan isa barbaachisu argatu eeyyameef.
[4] Nus dooniin achii kaanee waan bubbeen fuula keenya duraan nutti bubbisaa
tureef Qophiroosiin da’annee dabarre. [5] Erga galaana Kiilqiyaa fi Phamfiliyaa

* **26:23** 26:23 yookaan Masiihichi

irra dooniin darbinee booddee magaalaa Miiraa kan Luuqiiyaa keessatti argamtu
geenye. 6 Ajajaan dhibbaa sunis doonii Iskindiriyaa kan Iixaaliyaa dhaquutti jiru
tokko achitti argatee nu yaabbachiise. 7 Nus guyyaa hedduu suuta jennee dooniin
deemnee rakkinaan naannoo Kiniidoos geenye; yommuu bubbeen karaa sana irra
darbuu nu dhowwettis Salmoonee biraan gara da'oo Qareexitti qajeelle. 8 Rakkina
guddaadhaanis qarqara galaanichaa irra darbinee iddoo "Buufata doonii gaarii"
jedhamu kan magaalaa Laasiyaa biraa tokkotti baane.

9 Yeroon dheeraan badeera; sababii yeroon sun erga Soomni darbee ta'eef
dooniidhaan karaa deemuun sodaachisaa ta'eera; kanaafuu Phaawulos akkana
jedhee isaan akeekkachiise; 10 "Yaa jarana, ani akka karaan keenya kun badiisa of
keessaa qabu, akka inni doonichattii fi mi'a qofatti utuu hin ta'in jireenya keenyatti
illee balaa guddaa fiduuf deemu nan arga." 11 Ajajaan dhibbaa sun garuu qooda
waan Phaawulos jedhe dhaga'u gorsa ooftuu dooniitii fi gorsa abbaa doonii fudhate.
12 Sababii buufanni doonii sun ganna achi turuuf mijaa'aa hin ta'iinif baay'een isaanii
Finiiqeetti galanii ganna achitti dabarsuu abdatanii akka nu ittuma fufnee dooniin
deemnu murteessan. Buufanni Qareexi kun fuulli isaa gara kibba dhi'aattii fi gara
kaaba dhi'aatti deebi'ee ture.

### *Bubbee Galaana Irraa*

13 Yeroo bubbeen kibbaa suuta bubbisuu jalqabetti waan kaayyoo isaanii guu-
tachuu danda'an se'anii hiituu doonii hiikanii Qareexi biraan qarqara galaana irra
darban. 14 Utuu hin turinis bubbeen hamaan, "Awuraaqiis" jedhamu tokko biyya
bishaaniin marfamte sana irraa gad bubbise. 15 Dooniin sunis bubbeedhaan qabamee
gara bubbee sanaatti deemuu dadhabe; kanaafuu akka inni bubbeen fudhatamuuf
ittuma dhiifne. 16 Nus biyya bishaaniin marfamte xinnoo Qeedaa jedhamtu tokkoon
da'annee rakkina guddaadhaan bidiruu doonichaa oolchuu dandeenye. 17 Namoonni
sunis bidiruu sana dooniitti ol baasanii akka dooniin sun gargar hin diigamneef
funyoon xaxanii walitti hidhan. Isaanis tima cirracha Sirtiisitti bu'uu sodaatanii
hiituu doonii galaanatti gad buusanii akka dooniin sun bubbeen oofamtuuf ittuma
dhiisan. 18 Waan bubbeen sun akka malee nutti jabaachaa deemeef isaan guyyaa
itti aanutti doonii sana irraa fe'iisa guuranii bishaanitti dadarbachuu jalqaban.
19 Guyyaa sadaffaatti immoo mi'a doonii sanaa harkuma ofii isaaniitiin dadarbatan.
20 Nu waan utuu aduu yookaan urjii hin argin guyyaa hedduu turree fi waan bubbeen
nutti jabaateef dhuma irratti abdii badiisa ooluuf qabnu hunda ni kutanne.

21 Phaawulosis erga namoonni sun agabuu isaanii yeroo dheeraa turanii booddee
gidduu isaanii dhaabatee akkana jedhe; "Yaa jarana, isin utuu gorsa koo dhageessanii
Qareexii ka'uu hin qabdan ture; silaa balaa fi badiisa kana hundumaa irraa of
oolchitu turtan. 22 Amma garuu ani akka isin jabaattan isinan gorsa; doonicha malee
isin keessaa lubbuun nama tokkoo iyyuu hin baduutii. 23 Ergamaan Waaqa ani kan
isaa ta'ee fi isa tajaajilu sanaa tokko eda dhufee na cina dhaabatee, 24 'Yaa Phaawulos,
hin sodaatin; ati Qeesaar dura dhaabachuu qabdaatii; kunoo, Waaqni warra si wajjin
deemaa jiran hunda gaarummaa isaatiin sitti kenneera' naan jedhe. 25 Kanaaf yaa
jarana jabaadhaa! Ani akka wanni kun akkuma natti himame sana ta'u Waaqa nan
amanaatii. 26 Ta'us biyya bishaaniin marfamte tokkotti bu'uun keenya hin oolu."

### *Dooniin Caccabuu Isaa*

27 Halkan kudha afuraffaatti utuu galaana Adiriyaa irra asii fi achi oofamaa jirruu
gara halkan walakkaatti warri doonii irra hojjetan sun waan gara lafaatti dhi'aatan
se'an. 28 Isaan funyoo ittiin gad fageenya galaanaa ilaalan gad buusanii akka galaanni
sun meetira soddomii torba gad fagaatu argan; yeroo gabaabaa booddee ammas
funyoo sana gad buusanii akka gad fageenyi galaanichaa meetira digdamii saddeet

ta'e argan. 29 Isaanis kattaatti buuna jedhanii sodaatanii hiituu doonii afur dugda
duubaan doonii irraa gad buusan. Akka lafti bariituufis kadhatan. 30 Warri doonii
irra hojjetanis bidiruu keessaa baqachuuf jedhanii waan fuula doonii duraan hiituu
doonii buusan fakkaatanii bidiruu sana galaana keessa buusan. 31 Phaawulos immoo
ajajaa dhibbaatii fi loltootaan, "Yoo namoonni kunneen doonii keessatti hafan malee
isin badii ooluu hin dandeessan" jedhe. 32 Kanaafuu loltoonni sun funyoo bidirichi
ittiin hidhamee ture sana irraa kutanii galaanatti gad ishee dhiisan.
33 Gara barii lafaattis Phaawulos akka namoonni hundinuu waa nyaataniif isaan
kadhate; akkanas jedheen; "Isin bultii kudha afran darban yaadda'aa, utuu waa
tokko illee hin nyaatin agabuu keessan ooltanii bultaniirtu. 34 Kanaaf ani akka isin
waa nyaattaniif isin kadhadha. Nyaanni jiraachuuf isin barbaachisaatii. Isin keessaa
nama kam iyyuu rifeensa mataa isaa keessaa tokko iyyuu hin baduutii." 35 Innis erga
waan kana dubbatee booddee buddeena fuudhee hunduma isaanii duratti Waaqa
galateeffate; kutatees nyaachuu jalqabe. 36 Isaan hundinuu jajjabaatanii ofumaan
waa nyaatan. 37 Walumatti nu nama 276 taanee doonii sana keessa ture. 38 Isaanis
erga nyaatanii quufanii booddee qamadii fe'amee ture sana galaanatti naqanii akka
dooniin salphatu godhan.
39 Isaanis yommuu lafti bariitetti galoo galaanaa kan kuufama cirrachaa qabu tokko
argan malee biyyi fuula isaanii dura jiru sun eessa akka ta'e hin hubanne; doonii
sanas yoo isaanii danda'ame dhiibanii qarqara galaanaatti baasuu murteessan.
40 Kanaafuu funyoo hiituu doonii kutanii galaana keessatti gad dhiisan; yeruma sana
funyoo batoon ittiin hidhame sana hiikan; ergasiis sharaa karaa fuula doonii duraan
jiru sana qilleensatti ol fuudhanii gara kuufama cirrachaatti qajeelan. 41 Garuu
dooniin sun iddoo itti galaanni lama wal ga'utti tima cirrachaatti bu'ee lafa tuqe.
Mataan isaa achitti qabamee socho'uu dide; dudga duubni isaa immoo humna dha'aa
galaanaatiin dha'amee caccabe.
42 Loltoonnis akka warra hidhaman sana keessaa namni tokko iyyuu bishaan
daakee baqatee jalaa hin baaneef isaan ajjeesuuf karoorfatan. 43 Garuu ajajaan
dhibbaa sun waan Phaawulosin du'a oolchuu fedheef akka isaan waan karoorfatan
sana hin goone dhowwe; innis akka warri bishaan daakuu danda'an duraan dursanii
doonii irraa utaalanii gara lafaatti ba'an ajaje. 44 Akka warri hafan immoo saanqaa
yookaan caccabaa dooniitiin achi ga'an ajaje; haala kanaan hundi isaanii nagaan
lafatti ba'an.

# 28

*Phaawulos Malaaxiyaa Ga'uu Isaa*

1 Nus nagumaan qarqara galaanaatti baanee akka biyyi bishaaniin marfamte sun
Malaaxiyaa jedhamtu beekne. 2 Namoonni biyya bishaaniin marfamte sana irra
jiraatanis gara laafina dinqisiisaa nu argisiisan. Isaanis sababii roobnii fi dhaamochi
tureef ibidda bobeessanii hunda keenya simatan. 3 Utuu Phaawulos hanxaxii qoraanii
walitti qabee ibiddatti naqaa jiruu buutiin sababii ho'aatiin gad baate tokko harka
isaatti maxxantee gad dhiisuu didde. 4 Warri biyya bishaaniin marfamte sana irra
jiraatan sunis buutii harka isaatti rarraatu arganii, "Namichi kun nama nama ajjeese
ta'uu hin oolu; inni yoo balaa galaanaa jalaa ba'e illee Murtiin Qajeelaan akka inni
jiraatu hin eeyyamneef" waliin jedhan. 5 Phaawulos buutii sana ibidda keessa of
irraa buuse; miidhaa tokko malees hafe. 6 Namoonni sunis, "Inni ni dhiita'a yookaan
akkuma tasaa kufee du'a" jedhanii eegan; garuu yommuu yeroo dheeraa eeganii akka
inni waa tokko illee hin ta'in arganitti yaada geeddaratanii, "Inni waaqa" jedhan.
7 Bulchaan biyya bishaaniin marfamtee kan Phubiliyoos jedhamu tokkos naannoo
sanaa lafa qotiisaa qaba ture; innis mana isaatti nu simatee guyyaa sadii jaalalaan

nu keessumsiise. [8] Abbaan Phubiliyoos dhukkuba dhagna nama gubuu fi garaa nama
kaasuun qabamee ciisaa ture; Phaawulosis isa gaafachuuf ol seenee erga kadhatee
booddee harka irra kaa'ee isa fayyise. [9] Yommuu wanni kun ta'etti dhukkubsattoonni
biyya bishaaniin marfamte sana irra jiraatan biraa hundi dhufanii fayyan. [10] Isaanis
karaa baay'eedhaan ulfina nuu kennan; yommuu nu dooniin deemuuf kaanettis
waan nu barbaachisu hunda nuuf kennan.

### *Phaawulos Roomaa Ga'e*

[11] Nus ji'a sadii booddee doonii Iskindiriyaa kan biyya bishaaniin marfamte sana
irratti yeroo gannaa dabarse tokkoon kaanee deemsa jalqabne; dooniin sunis asxaa
waaqota lakkuu Kastoorii fi Paaluksi adda isaa irraa qaba ture. [12] Seraakuus geenyees
bultii sadii achi turre. [13] Achiis kaanee Reegiyuumitti galle; guyyaa tokko booddees
waan bubbeen kibbaa bubbiseef guyyaa itti aanutti Putiyooluus geenye. [14] Achitti
obboloota tokko tokko arganne; isaanis akka nu bultii torba isaan bira turru nu
kadhatan. Nus akkasiin Roomaatti galle. [15] Obboloonni achi turanis yommuu
dhufaatii keenya dhaga'anitti hamma iddoo gabaa Aphiyuusiittii fi iddoo "Lafa
Bultoo Sadii" jedhamuutti nu simachuu dhufan; Phaawulosis isaan argee Waaqa
galateeffate; ofii isaatiis ni jajjabaate. [16] Yommuu nu Roomaa geenyetti Phaawulos
akka loltuu isa eegu tokko wajjin kophaa isaa jiraatu eeyyamameef.

### *Phaawulos Eegumsa Jalatti Roomaatti Lallabuu Isaa*

[17] Phaawulosis guyyaa sadii booddee dura bu'oota Yihuudootaa walitti waame;
yommuu isaan walitti qabamanittis akkana jedheen; "Yaa obboloota ko, ani utuu
waan saba keenyaan yookaan duudhaa abbootii keenyaatiin mormu tokko illee
hin hojjetin Yerusaalem keessatti qabamee dabarfamee harka warra Roomaatti
kennameera. [18] Isaanis erga na qoranii booddee sababii ani yakka du'a namatti
mursiisu tokko illee hin qabaatiniif gad na dhiisuu barbaadan. [19] Ani garuu yoo
waan ittiin saba koo himadhu tokko iyyuu hin qabaatin illee yommuu Yihuudoonni
mormanitti akka Qeesaaritti ol iyyadhu nan dirqame. [20] Wanni ani isin arguu fi isin
wajjin haasa'uu kadhadheefis kanuma. Ani sababuma abdii Israa'eliif jedhee foncaa
kanaan hidhameera."

[21] Isaanis akkana jedhanii deebisan; "Nu xalayaa waa'ee kee dubbatu tokko illee
biyya Yihuudaatii hin arganne; obboloota achii dhufan keessaas namni tokko iyyuu
waa'ee kee waan hamaa hin dubbanne; nuttis hin himne. [22] Nu garuu yaadni kee
maal akka ta'e sirraa dhaga'uu barbaanna; nu akka namoonni iddoo hunda jiran
garee kanaan morman ni beeknaatii."

[23] Isaanis guyyaa itti Phaawulos wajjin wal argan qabatanii, akka malee baay'atanii
lafa inni jiraachaa ture dhaqan; innis ganamaa jalqabee hamma galgalaatti waa'ee
mootummaa Waaqaa isaanii ibsaa, lallabaas ture; waa'ee Yesuusiis Seera Museetii
fi Kitaabota Raajotaa keessaa eeree isaan amansiisuu yaalaa ture. [24] Isaan keessaa
warri tokko tokko waan inni jedhe ni fudhatan; warri kaan immoo amanuu didan.
[25] Isaan gidduutti waldhabiisni uumamnaan ka'anii deemuu jalqaban; kunis erga
Phaawulos akkana jedhee dubbii dhumaa dubbatee booddee; "Hafuurri Qulqulluun
yeroo karaa Isaayyaas raajichaatiin abbootii keessanitti dubbate sana dhugaa isaa
dubbate; innis akkana jedhe:

[26] " 'Gara saba kanaa dhaqiitii akkana jedhi;
"Dhaga'uu inuma dhageessu; garuu hin hubattan;
ilaaluus inuma ilaaltu; garuu hin qalbeeffattan."
[27] Qalbiin saba kanaa doomeeraatii;
gurri isaanii sirriitti hin dhaga'u;
ija isaaniis dunuunfataniiru;

utuu akkas ta'uu baatee silaa ija isaaniitiin arganii,
gurra isaaniitiin dhaga'anii,
qalbii isaaniitiinis hubatanii,
ni deebi'u turan; anis isaan nan fayyisa ture.'*
28 "Kanaafuu ani akka fayyisuun Waaqaa gara Namoota Ormaatti ergame akka isin
beektan nan barbaada! Isaanis ni dhaga'u." [ 29 Yihuudoonnis erga inni waan kana
dubbatee booddee jabeessanii waliin mormaa achii deeman.]†
30 Phaawulosis waggaa lama guutuu mana ofii isaatii kireeffate keessa jiraachaa,
warra isa dubbisuu dhufan hundas simachaa ture. 31 Innis ija jabinaan, gufuu tokko
malees mootummaa Waaqaa lallabaa, waa'ee Gooftaa Yesuus Kiristoosis barsiisaa
ture.

* **28:27** 28:27 Isa 6:9,10 † **28:29** 28:29 Hiikkaawwan durii tokko tokko luqqisaa kana hin qaban.

# Roomaa

*Ergaa Phaawulos Warra Roomaatti Erge*
1 Phaawulos tajaajilaa Kiristoos Yesuus, kan ergamaa ta'uuf waamamee fi akka
wangeela Waaqaa lallabuuf addaan baafame irraa: 2 Wangeelli kunis kan Waaqni
duraan dursee karaa raajota isaatiin Katabbiiwwan Qulqulluu keessatti waadaa galee
dha. 3 Wangeelichis waa'ee ilma isaa kan akka namummaatti sanyii Daawit irraa
dhalatee, 4 akka Hafuura qulqullummaatti immoo warra du'an keessaa ka'uu isaatiin
Ilma Waaqaa humna qabeessa ta'uun isaa labsamee dha; innis Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoos. 5 Nus karaa isaatiin, maqaa isaatiif jecha ormoota hunda keessaa akka gara
ajajamuu amantii irraa dhufuutti namoota waamnuuf ayyaanaa fi ergamtummaa
arganneerra. 6 Isinis warra akka kan Yesuus Kiristoos ta'aniif waamaman sana keessa
jirtu.

7 Warra Waaqaan jaallatamtanii qulqulloota ta'uuf waamamtan kanneen Roomaa
jirtan hundaaf:

Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nagaan isiniif
haa ta'u.

*Phaawulos Roomaa Daawwachuuf Hawwuu Isaa*
8 Sababii amantiin keessan guutummaa addunyaa irratti odeeffamaa jiruuf, ani
duraan dursee waa'ee hunda keessaniitiif karaa Yesuus Kiristoosiin Waaqa koo nan
galateeffadha. 9 Akka ani kadhannaa koo keessatti utuu wal irraa hin kutin isin
yaadadhu Waaqni ani wangeela Ilma isaa lallabuudhaan hafuura kootiin isa tajaajilu
sun dhuga baatuu koo ti; 10 ani akka ammas dhuma irratti gara keessan dhufuuf
fedhii Waaqaatiin karaan naa banamu nan kadhadha.
11 Akka isin jabaattaniifis kennaa hafuuraa isinii hiruuf isin arguu baay'ee nan
hawwa; 12 kunis akka isinii fi ani amantii keenyaan wal jajjabeessinuuf. 13 Yaa
obboloota ko, ani akkuma Namoota Ormaa kaan keessatti ija qabaadhe sana isin
keessattis akkasuma akkan qabaadhuuf yeroo baay'ee gara keessan dhufuu yaadaa
turuu ko, garuu hamma ammaatti dhowwamuu koo akka isin beekuu dhabdan hin
barbaadu.
14 Ani namoota Giriikii fi warra nama Giriik hin ta'iniif, beektotaa fi wallaaltotaaf
gatii of irraa nan qaba. 15 Sababiin ani isin warra Roomaa jirtanittis wangeela
lallabuuf akka malee hawwuuf kanuma.
16 Ani wangeelatti hin qaana'u; kunis sababii wangeelli humna Waaqaa kan
warra amanan hunda fayyisu ta'eef; innis jalqabatti Yihuudootaaf, itti aansee
immoo Giriikotaaf. 17 Wangeela keessatti qajeelummaan Waaqaa amantii irraa gara
amantiitti mul'ateeraatii; kunis akkuma, "Namni qajeelaan amantiidhaan jiraata"*
jedhamee barreeffamee dha.

*Dheekkamsa Waaqaa*
18 Dheekkamsi Waaqaa, Waaqa malee jiraachuu fi hammina namootaa hunda irratti
samii irraa ni mul'ata; namoonni kunneen hammina isaaniitiin dhugaa ukkaamsu;
19 kunis sababii wanni waa'ee Waaqaa beekamuu malu isaaniif ifa ta'eef; Waaqni
isaaniif ibseeraatii. 20 Amalli Waaqaa kan hin mul'anne jechuunis humni isaa

* **1:17** 1:17 Anb 2:4

kan bara baraatii fi waaqummaan isaa uumama addunyaatii jalqabee wantoota
uumaman irraa ifaan ifatti mul’ataatii; kanaafuu isaan waan itti qabatan hin qaban.
21 Isaan yoo Waaqa beekan illee akka waaqummaa isaatti ulfina hin kennineef;
galatas hin galchineef. Garuu yaadni isaanii waan faayidaa hin qabne ta’e; qalbiin
isaanii kan hin hubannes ni dukkanaa’e. 22 Isaan yoo ogeeyyii ofiin jedhan iyyuu
gowwoota ta’an; 23 ulfina Waaqa hin duunees nama du’utti, simbiratti, horii miilla
afuriitti akkasumas uumamawwan lafa irra loo’anitti fakkeessuudhaan geeddaran.
24 Kanaafuu Waaqni akka isaan dhagna walii isaanii salphisaniif hawwii garaa
isaanii hamaadhaan dabarsee xuraa’ummaatti isaan kenne. 25 Isaanis dhugaa
Waaqaa sobatti geeddaran; Uumaa dhiisanii uumama waaqeffatan; ni tajaajilanis.
Uumaan bara baraan eebbifamaa dha. Ameen.
26 Sababii kanaaf Waaqni dabarsee hawwii jibbisiisaatti isaan kenne. Dubartoonni
isaaniis karaa ittiin fedhii fooniitiif dhiira wajjin wal bira ga’an isa uumamaan
kennameef dhiisanii, gara isa uumamaan isaaniif hin kennaminitti geeddaran.
27 Warri dhiiraas akkasuma karaa ittiin fedhii fooniitiif dubartoota wajjin wal bira
ga’an isa uumamaan kennameef dhiisanii kajeellaa walii isaaniitiin gubatan. Warri
dhiiraa, dhiira biraa wajjin gocha jibbisiisaa raawwatan; dogoggora isaanii kanaafis
adaba isaaniif malu ofuma isaaniitiin fudhatan.
28 Sababii isaan Waaqa beekuu akka waan faayidaa hin qabneetti fudhataniif,
Waaqni immoo akka isaan waan hojjetamuu hin malle hojjetaniif qalbii faayidaa hin
qabnetti dabarsee isaan kenne. 29 Isaanis hammina gosa hundaatiin, jal’inaan, sassat-
tummaan, amala baduun, hinaaffaan, nama ajjeesuun, wal loluun, gowwoomsuu fi
dabaan guutaman. Isaan hamattoota, 30 warra maqaa nama balleessan, warra Waaqa
jibban, warra nama arrabsan, warra of jajanii fi warra of tuulanii dha; isaan warra
karaa ittiin jal’ina hojjetan yaadan, warra abbaa fi haadha isaaniitiif hin ajajamnee
dha; 31 isaan warra hubannaa hin qabne, warra walii galtee diigan, warra jaalala
hin qabnee fi warra namaaf garaa hin laafnee dha. 32 Isaan seera Waaqaa kan,
“Warra waan akkanaa hojjetan du’uutu isaaniif mala” jedhu sana yoo beekan iyyuu
ofii isaaniitiif waan akkanaa hojjechuu qofa utuu hin ta’in warra waan kana hojjetan
iyyuu ni jajjabeessu.

# 2

*Murtii Waaqaa Qajeelaa*

1 Kanaafuu yaa namichoo, ati yoo abbaa fedhe illee taate kan nama kaanitti murtu
waan itti qabattu hin qabdu; waan ittiin namatti murtu hundaan ofittis ni murtaatii;
ati kan murtii kennitu iyyuu ofii keetiis isuma hojjettaatii. 2 Nu akka murtiin Waaqaa
kan warra waan akkanaa hojjetan irratti murteeffamu dhugaa irratti hundaa’e ni
beekna. 3 Yaa namichoo, ati yommuu warra waan akkanaa hojjetanitti murtee ofii
keetii immoo waanuma akkasii hojjettu waan murtii Waaqaa jalaa baatu seetaa?
4 Yookaan ati akka gara laafummaan Waaqaa gara qalbii jijjiirrannaatti si geessu
utuu hin beekin baay’ina gara laafummaa isaa, gara bal’ina isaatii fi obsa isaa ni
tuffattaa?
5 Ati garuu sababii mata jabina keetiitii fi garaa kee isa qalbii hin jijjiirranne
sanaatiif guyyaa dheekkamsa Waaqaa kan murtiin qajeelaan itti mul’atu sanaaf
dheekkamsa of irratti kuusaa jirta. 6 Waaqni, “Nama hundaaf akkuma hojii isaatti
gatii isaa ni kenna.”* 7 Inni warra obsaan waan gaarii hojjechaa kabaja, ulfinaa
fi jireenya hin dabarre barbaadaniif jireenya bara baraa ni kenna. 8 Warra ofittoo
kanneen dhugaadhaaf ajajamuu didanii hammina duukaa bu’an garuu dheekkamsaa
fi aariitu isaan eeggata. 9 Nama hammina hojjetu hunda irratti, jalqabatti Yihuudii

* **2:6** 2:6 Far 62:12; Fak 24:12

irratti, ergasii immoo Nama Ormaa irratti dhiphinnii fi rakkinni ni dhufa. 10 Garuu
nama waan gaarii hojjetu hundaaf, jalqabatti Yihuudiif, ergasii immoo Nama
Ormaatiif kabajni, ulfinnii fi nagaan ni ta'a. 11 Waaqni nama wal hin caalchisuutii.

12 Warri utuu seera hin qabaatin cubbuu hojjetan hundinuu seera malee bar-
badaa'u; warra utuu seera qabanuu cubbuu hojjetan hundattis seeruma sanaan
murama. 13 Sababiin isaas warra seeraaf ajajamanitu fuula Waaqaa duratti qajeeltota
taasifama malee warri seera dhaga'an qajeeltota miti. 14 Namoonni Ormaa warri
seera hin qabne yoo uumamaan waan seerri ajaju hojjetan, yoo seera qabaachuu
baatan illee isaan ofii isaaniitiifuu seera. 15 Isaan waan qalbiin isaanii dhugaa ba'uuf,
waan yaadni isaaniis yeroo tokko isaan himatee yeroo kaan immoo isaaniif falmuuf,
akka ajajni seeraa garaa isaanii keessatti barreeffame ni argisiisu. 16 Akka wangeela
ani lallabuutti wanni kun gaafa Waaqni icciitii namootaa karaa Yesuus Kiristoosiin
murtii itti kennutti ta'a.

### *Yihuudootaa fi Seera*

17 Ati yoo Yihuudii ofiin jette, yoo seera amanatte, yoo kan Waaqaanis of jajju
taate, 18 yoo fedhii isaa beekte, yoo seera sanaanis qajeelfamtee waan hunda caalu
mirkaneeffatte, 19 warra iji isaanii jaameef dura deemaa, warra dukkana keessa
jiraniif immoo ifa ta'uu kee yoo amante, 20 karaa seeraatiinis beekumsaa fi dhugaa
qabduun yoo wallaaltota gorsite, daa'immanis yoo barsiifte, 21 egaa ati kan warra
kaan barsiiftu, ofii kee immoo hin barsiiftuu? Kan "Hin hatin" jettee barsiiftu
ofii keetii immoo ni hattaa? 22 Ati kan, "Namni ejjuu hin qabu" jettu ofii keetii
ni ejjitaa? Kan waaqota tolfamoo akka malee jibbitu mana qulqullummaa ni
saamtaa? 23 Ati kan Seeraan of jajju seera cabsuudhaan Waaqa ni salphiftaa?
24 "Sababii keessaniif maqaan Waaqaa Namoota Ormaa gidduutti arrabsama"†
jedhamee barreeffameeraatii.

25 Yoo ati seera eegde dhagna qabaan faayidaa qaba; yoo seera cabsite garuu akka
waan dhagna hin qabatinii taateerta. 26 Warri dhagna hin qabatin yoo waan seerri
ajaju eegan, akka waan dhagna qabataniitti hin ilaalamanii ree? 27 Namni utuu
fooniin dhagna hin qabatin seera eegu tokko si nama seera barreeffame qabaattee
dhagnas qabattee seera cabsitutti ni mura.

28 Namni waan alaan mul'atu qofaan Yihuudii hin ta'u; dhagna qabachuunis waan
alaan mul'atu qofa miti. 29 Garuu nama keessa namummaa isaatiin Yihuudii ta'etu
Yihuudii dha; dhagna qabaanis dhagna qabaa yaada garaa kan Hafuuraan ta'uudha
malee seera barreeffameen miti. Namni akkasii Waaqa biratti malee nama biratti
hin jajamu.

## 3

### *Amanamummaa Waaqaa*

1 Egaa Yihuudii ta'uun faayidaa maalii qaba? Yookaan bu'aan dhagna qabaa
maalii? 2 Karaa hundaanuu bu'aa guddaa qaba! Jalqabatti dubbiin Waaqaa
Yihuudootatti imaanaa kenname.

3 Isaan keessaa tokko tokko yoo hin amanin maal ree? Amantii dhabuun isaanii
amanamummaa Waaqaa ni balleessaa? 4 Gonkumaa hin ta'u! Namoonni hundinuu
sobdoota, Waaqni immoo dhugaa qabeessa haa ta'u. Kunis akkuma,

"Akka ati dubbii keetiin dhuga qabeessa taatuuf,

yommuu murtiitti dhi'aattuttis akka mo'attuuf"*

jedhamee barreeffamee dha.

† **2:24** 2:24 Isa 52:5; His 36:22 * **3:4** 3:4 Far 51:4

5 Yoo jal'inni keenya qajeelina Waaqaa ifa baase garuu maal jenna ree? Waaqni
dheekkamsa isaa nutti fiduun isaa qajeelina dhabeetii? Kanas ani akka namaattin
dubbadha. 6 Gonkumaa hin ta'u! Utuu akkas ta'ee silaa Waaqni akkamitti addun-
yaatti muruu danda'a ree? 7 Namni tokko, "Yoo soba kootiin dhuga qabeessummaan
Waaqaa guddatee ulfinni isaas baay'ate maaliif hamma ammaatti akka cubbamaa
tokkootti natti murama ree?" jedhee falma ta'a. 8 Kunis isa namoonni tokko tokko,
"Isaan, 'Akka wanni gaariin dhufuuf hammina haa hojjennu?' jedhu" jedhanii
nurratti odeessisanii dha. Murtiin isaanitti muramus waanuma maluu dha!

*Namni Kam iyyuu Qajeelaa miti*

9 Egaa maal jenna ree? Nu Yihuudoonni warra kaan caallaa? Gonkumaa akkas
miti! Akka Yihuudoonnii fi Giriikonni hundinuu cubbuu jala jiran duraan dursinee
mirkaneessineerraatii. 10 Kunis kan akkana jedhamee barreeffamee dha:
"Qajeelaan tokko iyyuu hin jiru; namni tokko iyyuu;
11 namni hubannaa qabu,
kan Waaqa barbaadu tokko iyyuu hin jiru.
12 Hundinuu dogoggoraniiru;
walumatti warra faayidaa hin qabne ta'aniiru;
namni waan gaarii hojjetu tokko iyyuu hin jiru;
tokkumti iyyuu hin jiru."†
13 "Laagaan isaanii awwaala banamaa dha;
arraba isaaniitiin ni gowwoomsu."‡
"Hadhaan buutii hidhii isaanii jala jira."§
14 "Afaan isaanii abaarsaa fi hadhaa'ummaan guutame."*
15 "Miilli isaanii dhiiga dhangalaasuutti ariifata;
16 badiisaa fi gadadootu karaa isaanii irra jira;
17 karaa nagaas hin beekan."†
18 "Waaqa sodaachuun ija isaanii dura hin jiru."‡
19 Akka afaan hundi cufamuu fi akka addunyaan hundinuu murtii Waaqaa jala
galuuf, wanni seerri jedhu hundinuu akka warra seera jala jiraniif dubbatu ni beekna.
20 Kanaafis eenyu iyyuu seera eeguudhaan fuula Waaqaa duratti qajeelaa hin ta'u;
seeratu cubbuu nu hubachiisaatii.

*Qajeelummaa Amantiin Argamu*

21 Amma garuu qajeelummaan Waaqaan kennamu kan seeraan adda ta'e, kan
Seerrii fi Raajonni dhugaa ba'aniif mul'ateera. 22 Qajeelummaan Waaqaa kun
amantiidhaan warra Yesuus Kiristoositti amanan hundaaf kennama; nama wal
caalchisuun hin jiru; 23 sababii hundi isaanii iyyuu cubbuu hojjetaniif isaan ulfina
Waaqaa irraa citaniiruutii; 24 isaanis ayyaana Waaqaa isa furama karaa Kiristoos
Yesuusiin toluma kennameefiin qajeeltota taasifamaniiru. 25 Dhiiga isaatti amantii
qabaachuudhaanis akka inni aarsaa araaraa ta'uuf Waaqni isa dhi'eesse. Waan kana
gochuun isaas cubbuu kanaan dura hojjetame utuu hin adabin waan obsaan bira
darbeef qajeelina isaa argisiisuuf jedhee ti; 26 Waaqni yeroo ammaa qajeelummaa
isaa argisiisuu fi akka nama Yesuusitti amanus qajeelaa ta'uu isaa labsuuf waan kana
godhe.

*Seerri Kennamuu Isaa*

27 Yoos of tuuluun eessa jira ree? Inni hafeera. Seera kamiin? Seera eeguudhaan
moo? Miti; seera amantiitiin malee. 28 Nu akka namni seera eeguudhaan utuu

† **3:12** 3:12 Far 14:1-3; 53:1-3; Lal 7:20 ‡ **3:13** 3:13 Far 5:9 § **3:13** 3:13 Far 140:3 * **3:14** 3:14 Far 10:7
† **3:17** 3:17 Isa 59:7,8 ‡ **3:18** 3:18 Far 36:1

hin ta’in amantiidhaan qajeelaa taasifamu ni amannaatii. 29 Waaqni Waaqa
Yihuudootaa qofa moo? Inni Waaqa Namoota Ormaas mitii? Eeyyee, inni Waaqa
Namoota Ormaatis; 30 egaa kan dhagna qabates amantiin, kan dhagna hin qabatinis
amantiidhuma sanaan qajeelaa kan taasisu Waaquma tokkicha. 31 Yoos nu amantii
kanaan seera sana cabsinaa ree? Gonkumaa akkas miti! Seericha ni cimsina malee.

# 4

*Abrahaam Amantiidhaan Qajeelaa Ta’e*

1 Egaa Abrahaam inni fooniin abbaa keenya ta’e sun haala kanaan maal argate
jenna ree? 2 Abrahaam utuu hojiin qajeelaa taasifamee jiraatee silaa waan ittiin of
jaju qaba ture; fuula Waaqaa duratti garuu akkas miti. 3 Katabbiin Qulqulluun maal
jedha? “Abrahaam Waaqa amane; kunis qajeelummaatti lakkaa’ameef.”*
4 Nama hojjetu tokkoof Mindaan gatiidha malee akka kennaa tolaatti hin hedamu.
5 Ta’us nama hin hojjenne, kan Waaqa isa nama hamaa qajeelaa taasisu amanatu
garuu amantiin isaa qajeelummaatti lakkaa’amaaf. 6 Daawitis akka namni Waaqni
qajeelummaa hojii malee argamu lakkaa’uuf eebbifamaa ta’e yommuu dubbatu
akkana jedha:

7 “Warri yakki isaanii dhiifameef,
kanneen cubbuun isaanii
haguugameef eebbifamoo dha.
8 Namni Gooftaan cubbuu isaa itti
hin lakkoofne eebbifamaa dha.”†

9 Eebbi kun warra dhagna qabatan qofaaf moo warra dhagna hin qabatiniifis?
Abrahaamiif amantiin isaa qajeelummaatti lakkaa’ame jenneerraatii. 10 Kun egaa
akkamitti isaaf lakkaa’ame ree? Erga inni dhagna qabatee moo duraanii? Durumaan
malee erga dhagna qabate miti! 11 Inni mallattoo dhagna qabaa fudhate; kunis
chaappaa qajeelummaa inni utuu dhagna hin qabatin dura amantiin argate sanaa
ti. Kanaafis inni warra utuu dhagna hin qabatin amanan kanneen amantiin isaanii
qajeelummaatti lakkaa’ameef hundaaf abbaa dha. 12 Akkasumas inni warra dhagna
qabataniif, dhagna qabachuu qofas utuu hin ta’in warra karaa amantii abbaan
keenya Abrahaam utuu dhagna hin qabatiniin dura fudhate sana duukaa bu’an
hundaaf abbaa dha.
13 Abrahaamii fi sanyiin isaa waadaa akka inni dhaaltuu addunyaa ta’u kenname
sana karaa qajeelummaa amantiin dhufuutiin argatan malee karaa seeraatiin miti.
14 Yoo warri seeratti bulan dhaaltota ta’an, amantiin gatii hin qabu; waadaanis homaa
hin fayyaduutii; 15 kunis sababii seerri dheekkamsa fiduuf. Lafa seerri hin jirre yakki
hin jiruutii.
16 Kanaafuu waadaan kun akka ayyaanaan ta’uu fi akka sanyii isaa hundaaf wabii
ta’uuf amantii irratti hundeeffame; innis warra akka Abrahaam amananiif malee
warra seeratti bulan qofaaf miti; Abrahaam abbaa hunduma keenyaa ti. 17 Kunis
akkuma, “Ani abbaa saboota baay’ee si taasiseera”‡ jedhamee barreeffamee dha.
Abrahaam Waaqa amanate; innis Waaqa warra du’aniif jireenya kennuu fi isa waan
hin jirre akka waan jiruutti waamu sana duratti abbaa keenya.
18 Abrahaamis akkuma, “Sanyiin kee akkas ni ta’a”§ jedhametti utuu abdiin
tokko iyyuu hin jiraatin abdiidhaan amanee abbaa saboota baay’ee ta’e. 19 Innis
akka umuriin isaa gara waggaa dhibbaa ga’ee dhagni isaa du’e, akkasumas akka
gadameessi Saaraa du’e beeku illee amantii isaatti hin laafne. 20 Inni amantii isaatti
jabaachuun Waaqaaf ulfina kenne malee amantii dhabuun waadaa Waaqaa hin
shakkine; 21 akka Waaqni waan waadaa gale raawwachuu danda’us guutumaan

* **4:3** 4:3 Uma 15:6 † **4:8** 4:8 Far 32:1,2 ‡ **4:17** 4:17 Uma 17:5 § **4:18** 4:18 Uma 15:5

guutuutti hubateera. 22 Kanaafuu, “Amantiin isaa qajeelummaatti isaaf lakkaa’ame.”
23 Dubbiin, “Qajeelummaatti isaaf lakkaa’ame” jedhu kun Abrahaam qofaaf hin
barreeffamne; 24 nuufis, warra Waaqa Gooftaa keenya Yesuusin warra du’an keessaa
kaase sanatti amannuufis, qajeelummaatti ni lakkaa’ama. 25 Yesuus cubbuu keenyaaf
dabarfamee du’atti kenname; qajeeltota nu taasisuuf immoo du’aa kaafame.

# 5

### *Nagaa fi Gammachuu*

1 Kanaafuu amantiidhaan qajeeltota erga taasifamnee nu karaa Gooftaa keenya
Yesuus Kiristoosiin Waaqa wajjin nagaa qabna. 2 Ayyaana amma jabaannee ittiin
dhaabannu kanattis karaa isaatiin amantiin galuuf carraa arganneerra. Abdii ulfina
Waaqaattis ni gammanna. 3 Kana qofa miti; nu dhiphina keenyattis ni gammanna;
akka dhiphinni obsa fidu ni beeknaatii; 4 obsi jabaatanii dhaabachuu, jabaatanii
dhaabachuun immoo abdii fida. 5 Jaalalli Waaqaa karaa Hafuura Qulqulluu nuu
kennamee sanaatiin garaa keenya keessatti waan dhangalaafameef abdiin nu hin
qaanessu.
6 Utuu nu amma illee dadhabdoota taanee jirruu yeroo malutti Kiristoos cub-
bamootaaf jedhee du’e. 7 Yoo namni tokko nama gaariif du’uuf ija jabaachuu
danda’e iyyuu, namni nama qajeelaaf du’u akka malee muraasa. 8 Garuu utuma
nu cubbamoota taanee jirruu Kiristoos nuuf jedhee du’e; kunis jaalala Waaqni nuuf
qabu argisiisa.
9 Egaa nu amma erga dhiiga isaatiin qajeeltota taasifamnee, akkam karuma isaatiin
dheekkamsa Waaqaa jalaa hin baane ree! 10 Nu utuu diinota Waaqaa taanee jirruu
erga du’a ilma isaatiin isatti araaramnee, erga isatti araaramnee booddee immoo
hammam caalaa jireenya isaatiin hin fayyinu ree! 11 Kana qofa miti; nu garuu
Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isa ittiin amma araara arganne sanaan Waaqatti
ni gammanna.

### *Duuti Addaamiin, Jireenyi Immoo Kiristoosiin Dhufe*

12 Kanaaf akkuma cubbuun karaa nama tokkootiin addunyaa seene, duuti immoo
karaa cubbuutiin seene; sababii namni hundinuu cubbuu hojjeteefis duuti nama
hundatti dhufe.
13 Utuu seerri hin kennaminiin dura iyyuu cubbuun addunyaa keessa tureetii; yeroo
seerri hin jirretti garuu cubbuun hin lakkaa’amu. 14 Ta’us duuti bara Addaam irraa
jalqabee hamma bara Museetti warra dogoggora akka Addaam hin hojjetin irratti
illee mo’ee ture; Addaamis Isa dhufuuf jiru sanaaf fakkeenya ture.
15 Kennaan tolaa sun garuu akka balleessaa sanaa miti. Erga sababii balleessaa
nama tokkootiin namoonni baay’een du’anii, ayyaanni Waaqaatii fi kennaan karaa
ayyaana nama tokkootiin jechuunis kennaan karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufe
sun immoo hammam caalaa namootaaf haa baay’atu ree! 16 Kennaan Waaqaa
miidhaa cubbuun namni tokko hojjete fiduun tokko miti: Murtiin cubbuu tokkichaaf
kenname yakkamtummaa fideera; kennaan tolaa kan balleessaa baay’ee irratti
kenname garuu qajeelummaa fide. 17 Erga sababii balleessaa nama tokkootiin
karaa namicha sanaatiin duuti mo’ee, warri ayyaana baay’atee irraa hafaa ta’ee fi
kennaa qajeeltota nama taasisu argatan immoo karaa nama tokkoo karaa Yesuus
Kiristoosiitiin hammam caalaa jireenyaan hin mo’an ree!
18 Kanaafuu akkuma balleessaan tokko nama hundatti yakka mursiise, akkasuma
immoo hojiin qajeelummaa tokko nama hundaaf qajeelummaa jireenya fidu ta’e.
19 Akkuma ajajamuu diduu nama tokkootiin namoonni baay’een cubbamoota ta’an,

akkasuma immoo ajajamuu nama tokkootiin namoonni baay'een qajeeltota ni taasifamu.
[20] Seerris akka cubbuun baay'atuuf dhufe. Lafa cubbuun baay'atetti garuu
ayyaanni akka malee baay'ate; [21] kunis akkuma cubbuun karaa du'aatiin mo'e sana ayyaannis karaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiitiin akka jireenya bara baraa fiduuf karaa qajeelinaatiin akka mo'uuf.

# 6

### *Cubbuuf Du'uu, Kiristoosiin Immoo Jiraachuu*

[1] Egaa maal jenna ree? Akka ayyaanni baay'atuuf ittuma fufnee cubbuu haa
hojjennuu? [2] Gonkumaa hin ta'u! Nu warri cubbuuf duune, si'achi akkamitti
cubbuu jala jiraanna? [3] Yookaan nu warri Kiristoos Yesuusitti cuuphamne hundi
akka du'a isaattis cuuphamne isin hin beektanii? [4] Kanaafuu akkuma Kiristoos ulfina Abbaatiin warra du'an keessaa kaafame sana nus akka jireenya haaraa jiraannuuf cuuphaadhaan du'a isaa keessatti hirmaannee isa wajjin awwaalamne.
[5] Nu erga du'a isaatiin akkasitti isa wajjin tokko taane, du'aa ka'uu isaatiinis
akkasuma isa wajjin tokko ni taana. [6] Akka dhagni cubbamaan balleeffamuuf, nus akka si'achi garboota cubbuu hin taaneef akka namummaan keenya moofaan sun isa wajjin fannifame ni beekna; [7] namni du'e cubbuu irraa bilisoomeeraatii.
[8] Egaa nu yoo Kiristoos wajjin duune, akka isa wajjin jiraannus ni amanna.
[9] Kiristoos warra du'an keessaa waan ka'eef, akka inni deebi'ee hin duune ni
beeknaatii; duutis si'achi isa irratti gooftummaa hin qabu. [10] Inni du'a du'e sana si'a tokko yeroo hundaaf cubbuuf du'e; jireenya jiraatu sana garuu Waaqaaf jiraata.
[11] Isinis akkasuma akka cubbuuf duutanitti, Kiristoos Yesuusiin garuu akka
Waaqaaf jiraattota taatanitti of hedaa. [12] Kanaafuu isin akka fedhii isaa hamaadhaaf hin ajajamneef dhagna keessan kan du'a hin oolle irratti cubbuu hin moosisinaa.
[13] Akka warra du'a irraa gara jireenyaatti fidamaniitti Waaqaaf of dhi'eessaa malee kutaa dhagna keessanii mi'a jal'inaa gootanii cubbuuf hin dhi'eessinaa; garuu kutaa dhagna keessanii mi'a qajeelinaa godhaatii Waaqaaf dhi'eessaa. [14] Isin ayyaana jala jirtu malee waan seera jala hin jirreef, cubbuun isin irratti gooftummaa hin qabaatu.

### *Garboota Qajeelummaa Ta'uu*

[15] Egaa maal haa ta'u ree? Nu sababii ayyaana jala malee seera jala hin jirreef
cubbuu haa hojjennuu? Gonkumaa hin ta'u! [16] Cubbuu gara du'aatti nama
geessuufis ta'u yookaan ajajamuu gara qajeelummaatti nama geessuuf, yommuu akka garbootaatti nama tokkoof ajajamuuf of kennitanitti, nama ajajamtaniif sanaaf akka garboota taatan hin beektanii? [17] Isin yoo garboota cubbuu turtan illee amma garuu barumsa itti kennamtan sanaaf waan garaa guutuun ajajamtaniif Waaqaaf galanni haa ta'u. [18] Isin cubbuu irraa bilisoomtanii garboota qajeelummaa taataniirtu.
[19] Sababii isin uumamaanuu dadhaboo taataniif ani jecha namaa galuun nan
dubbadha; akkuma kutaa dhagna keessanii xuraa'ummaa fi hammina guddachaa deemuuf garba gootanii dhi'eessaa turtan sana ammas kutaa dhagna keessanii qajeelummaa gara qulqullummaatti geessuuf garba godhaatii dhi'eessaa. [20] Isin
yeroo garboota cubbuu turtanitti, qajeelummaa irraa bilisa turtan. [21] Waan amma
itti qaanoftan kana irraa yeroo sana bu'aa maalii argattan ree? Dhumni waan sanaa
du'aatii! [22] Amma garuu waan cubbuu irraa bilisoomtanii garboota Waaqaa taataniif faayidaan isin argattan gara qulqullummaatti isin geessa; dhumni isaas jireenya bara
baraa ti. [23] Mindaan cubbuu du'aatii; kennaan Waaqaa garuu karaa Gooftaa keenya Kiristoos Yesuusiin jireenya bara baraa ti.

# 7

*Fakkeenya Fuudhaa fi Heerumaa*

[1] Yaa obboloota, ani warra seera beekanitti nan dubbadhaatii; seerri nama tokko
irratti taayitaa kan qabaatu hamma namichi sun lubbuun jiru qofa akka ta'e isin hin
beektanii ree? [2] Dubartiin heerumte tokko hamma inni lubbuudhaan jirutti seeraan
dhirsa isheetti hidhamteerti; yoo dhirsi ishee du'e garuu seera fuudhaa fi heerumaa
sana irraa hiikamteerti. [3] Kanaafuu utuu dhirsi ishee lubbuudhaan jiruu yoo nama
biraatti heerumte isheen ejjituu jedhamti. Yoo dhirsi ishee du'e garuu waan seera
sana irraa hiikamteef yoo nama biraatti heerumte illee ejjitu miti.

[4] Kanaafuu yaa obboloota ko, isinis akkasuma karaa dhagna Kiristoosiin seeraaf
duutaniirtu; kunis akka isin kan biraa, kan isa warra du'an keessaa kaafame sanaa
taataniif; kun immoo akka nu Waaqaaf ija naqannuuf. [5] Yeroo nu akka namummaa
cubbamaatti jiraachaa turretti, hawwiin cubbuu kan seeraan kakaafame sun akka
nu du'aaf ija naqannuuf dhagna keenya keessatti hojjechaa ture. [6] Amma garuu
waan duraan nu hidhee ture sanaaf du'uudhaan seera irraa hiikamneerra; kunis
akka seera moofaa barreeffame sana jalatti tajaajilluuf utuu hin ta'in akka jireenya
Hafuuraa haaraa sanaan tajaajilluuf.

*Seeraa fi Cubbuu*

[7] Egaa maal jenna ree? Seerri cubbuudhaa? Gonkumaa akkas miti! Garuu ani
utuu seeraan ta'uu baatee cubbuun maal akka ta'e hin beeku ture. Utuu seerri "Hin
hawwin"* jechuu baatee ani silaa hawwiin maal akka ta'e dhugumaan hin beeku
ture. [8] Cubbuun garuu carraa ajajni argamsiiseen hawwii hamaa gosa hundaa na
keessatti uume. Lafa seerri hin jirretti cubbuun du'aadhaatii. [9] Ani dur seera malee
jiraachaan ture; yommuu ajajni dhufetti garuu cubbuun ni bayyanatte; anis nan du'e.
[10] Ajajni jireenya fida jedhamee eegame sunis akka du'a natti fide nan hubadhe.
[11] Cubbuun carraa ajajni argamsiiseen na gowwoomse; ajajuma sanaanis na ajjeese.
[12] Kanaafuu seerri qulqulluu dha; ajajni sunis qulqulluu dha; qajeelaa dha; gaarii
dhas.
[13] Egaa waan gaarii sanatu du'a natti ta'ee ree? Gonkumaa akkas miti! Cubbuunis
akka cubbuutti akka ilaalamuuf, akka karaa ajajaatiin ittuma caalee cubbuu ta'uufis
cubbuun karaa waan gaarii sanaatiin du'a natti fide.
[14] Nus akka seerri sun seera hafuuraa ta'e ni beekna; ani garuu nama foonii kan
akkuma garbaatti cubbuutti gurguramee dha. [15] Ani waanan hojjedhu hin beeku. Ani
waanan jibbun hojjedha malee waanan hojjechuu barbaadu hin hojjedhuutii. [16] Ani
erga waanan hojjechuu hin barbaanne hojjedhee, akka seerri sun gaarii ta'e walii nan
gala. [17] Yoos, si'achi cubbuu na keessa jiraatutu waan kana hojjeta malee ana miti.
[18] Na keessa jechuunis namummaa koo cubbamaa keessa akka wanni gaariin tokko
iyyuu hin jirre nan beeka. Ani waan gaarii hojjechuu nan hawwa; garuu hojjechuu
hin danda'u. [19] Wanti ani hojjedhu waan hamaa ani hojjechuu hin barbaanne malee
waan gaarii ani hojjechuu barbaadu mitiitii. [20] Egaa ani waanan hojjechuu hin
barbaanne yoon hojjedhe, si'achi cubbuu na keessa jiraatu sanatu waan kana hojjeta
malee ana miti.
[21] Kanaafuu akka seerri sun hojjechaa jiru nan hubadha; yommuu ani waan gaarii
hojjechuu barbaadu hamminni na biratti argama. [22] Ani keessa namummaa kootti
seera Waaqaattin nan gammadaatii; [23] ani garuu utuu seerri biraa seera qalbii koo
wajjin kutaa dhagna koo keessatti wal lolee seera cubbuu kan kutaa dhagna koo
keessa jiruuf na booji'uu nan arga. [24] Ani nama gadadamaa akkamii ti! Dhagna du'u

---

* **7:7** 7:7 Bau 20:17; KeD 5:21

kana jalaa eenyutu na baasa? 25 Karaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin galanni
Waaqaaf haa ta'u!

Kanaafuu ani mataan koo qalbii kootiin garbicha seera Waaqaa ti; namummaa koo cubbamaadhaan garuu ani garbicha seera cubbuu ti.

# 8

### *Hafuura Jireenyaa*

1 Egaa amma murtiin warra Kiristoos Yesuus keessa jiraatanitti muramu hin jiru;
2 seerri Hafuura jireenyaa karaa Kiristoos Yesuusiin seera cubbuutii fi seera du'aa
jalaa na bilisoomseeraatii. 3 Waan seerri sababii fooniitiin dadhabsiifameef hojjechuu
hin danda'in, Waaqni Ilma ofii isaa bifa foon cubbamaatiin aarsaa cubbuu akka
ta'uuf erguun hojjeteeraatii. Kanaanis inni fooniin cubbuutti mure. 4 Kunis akka
qajeelummaan seeraa sun nu warra utuu akka namummaa cubbamaatti hin ta'in
akka Hafuuraatti jiraannu keessatti raawwatamuufii dha.

5 Warri akka fooniitti jiraatan waan foonii yaadu; warri akka Hafuuraatti jiraatan
garuu waan Hafuuraa yaadu. 6 Yaadni foonii du'a; yaadni Hafuuraa garuu jireenyaa
fi nagaa dha. 7 Yaadni foonii diina Waaqaa ti; seera Waaqaatiifis hin bulu. Buluus
hin danda'u. 8 Warri akka fooniitti jiraatan Waaqa gammachiisuu hin danda'an.

9 Isin garuu yoo Hafuurri Waaqaa isin keessa jiraate akka Hafuuraatti jiraattu malee
akka fooniitti hin jiraattan. Eenyu iyyuu yoo Hafuura Kiristoos qabaachuu baate inni
kan Kiristoos miti. 10 Yoo Kiristoos isin keessa jiraate garuu dhagni keessan sababii
cubbuutiin du'aa dha; hafuurri keessan immoo sababii qajeelummaatiin jiraataa dha.
11 Hafuurri Waaqaa inni Yesuusin warra du'an keessaa kaase sun yoo isin keessa
jiraate garuu, inni Kiristoos Yesuusin warra du'an keessaa kaase sun karaa Hafuura
isaa kan isin keessa jiruutiin dhagna keessan isa du'uufis jireenya kenna.

12 Egaa yaa obboloota, nu gatii of irraa qabna; garuu fooniif miti; akka fooniitti
jiraachuufis miti. 13 Isin yoo akka fooniitti jiraattan ni duutuutii; yoo Hafuuraan hojii
foon keessanii ajjeeftan garuu ni jiraattu.

14 Warri Hafuura Waaqaatiin qajeelfaman hundinuu ilmaan Waaqaatii. 15 Isin
Hafuura ilmummaa isa nu ittiin, "*Aabbaa,* yaa Abbaa" jennee waammannu sana
argattan malee Hafuura garbummaa kan gara sodaatti isin deebisu hin arganne.
16 Akka nu ijoollee Waaqaa taane kan hafuura keenya wajjin dhugaa ba'us
Hafuuruma sana. 17 Yoo ijoollee taane immoo nu dhaaltota; akka hirmaattota ulfina
isaa taanuufis yoo hirmaattota dhiphina isaa taane, nu dhaaltota Waaqaa ti; Kiristoos
wajjinis ni dhaalla.

### *Ulfina Fuul duraa*

18 Dhiphinni keenya kan ammaa kun ulfina nutti mul'achuuf jiruun yommuu wal
bira qabamu akka waan tokkottuu hin lakkaa'amne ani nan yaada. 19 Uumamni
mul'achuu ijoollee Waaqaa hawwiidhaan eeggachaa jira. 20 Uumamni utuu filannoo
isaatiin hin ta'in, fedhii isa dabarsee isa kenne sanaatiin abdiidhaan waan faayidaa
hin qabnetti saaxilameeraatii; 21 kunis akka uumamni mataan isaa garbummaa
tortoruu jalaa ba'ee bilisummaa ulfina qabeessa ijoollee Waaqaatti galuuf.

22 Uumamni hundinuu hamma ammaatti akkuma dhiphina yeroo ciniinsuutti akka
aadaa jiru ni beekna. 23 Uumama qofa utuu hin ta'in nu mataan keenya warri ija
Hafuuraa kan jalqabaa qabnu iyyuu furii dhagna keenyaa ilmummaatti guddifamuu
eeggachaa of keessatti ni aadna. 24 Nu abdii kanaan fayyineetii. Abdiin argamu garuu
abdii miti; namni waan amma iyyuu qabu abdatu eenyu ree? 25 Nu yoo waan amma
hin qabne abdanne garuu obsaan eegganna.

26 Akkasumas Hafuurri dadhabbii keenya irratti nu gargaara. Nu waan kad-
hachuu qabnu hin beeknuutii; hafuurri mataan isaa garuu aaduu ibsamuu hin
danda'amneen nuuf kadhata. 27 Inni garaa keenya qoru sun yaada Hafuuraas ni
beeka; Hafuurri akka fedhii Waaqaatti qulqullootaaf kadhataatii.

### *Mo'attoota Caaluu*

28 Waaqni warra isa jaallatanii akka kaayyoo isaatti waamamaniif akka wanti
hundinuu gaarii ta'uuf hojjetu ni beekna. 29 Akka inni obboloota baay'ee keessatti
hangafa ta'uuf Waaqni warra duraan dursee beeke akka bifa ilma isaa fakkaataniif
duraan dursee murteesseeraatii. 30 Inni warra duraan dursee murteesse sana ni
waame; warra waame sanas qajeeltota taasise; warra qajeeltota taasiseef immoo
ulfina kenne.
31 Egaa kana irratti maal jenna ree? Erga Waaqni nu wajjin ta'ee eenyutu
nuun mormuu danda'a? 32 Waaqni Ilma isaa illee utuu hin mararfatin hunduma
keenyaaf dabarsee kenne sun akkamitti waan biraa hundumas isa wajjin akkasuma
arjummaan nuuf hin kennu ree? 33 Warra Waaqni filate eenyutu himata? Kan
qajeelaa nama taasisu Waaqa. 34 Kan itti muru eenyu? Kiristoos Yesuus isuma nuuf
du'ee, kana caalaa immoo warra du'an keessaa ka'ee mirga Waaqaa jiruu fi nuuf
kadhatu sanaa dha. 35 Jaalala Kiristoos irraa eenyutu gargar nu baasa? Dhiphina
moo rakkina, ari'atama moo beela, daaruu moo balaa yookaan goraadee? 36 Kunis
akkuma,
"Nu siif jennee guyyaa guutuu ni ajjeefamna;
akka hoolota qalamuuf jiraniittis lakkaa'amneerra"*
jedhamee barreeffamee dha. 37 Kana hunda keessatti garuu nu isa nu jaallate sanaan
mo'attoota ni caalla. 38 Duuti yookaan jireenyi, ergamoonni yookaan bulchitoonni,
hangafoonni, wanni ammaa yookaan wanni dhufuuf jiru yookaan humni tokko
iyyuu, 39 ol dheerinni yookaan gad fageenyi yookaan uumamni biraa kam iyyuu
jaalala Waaqaa kan Kiristoos Yesuus Gooftaa keenyaa irraa akka gargar nu baasuu
hin dandeenye ani amaneera.

# 9

### *Filannoo Waaqaa*

1 Ani Kiristoosiin dhugaa nan dubbadha; ani hin sobu; yaadni koos Hafuura
Qulqulluudhaan naa mirkaneessa; 2 ani gadda guddaa fi dhiphina wal irraa hin cinne
garaa koo keessaa qaba. 3 Ani iyyuu obboloota koo warra akka fooniitti sanyii koo
ta'aniif jedhee utuun Kiristoos irraa gargar ba'ee abaaramee nan hawwa tureetii;
4 isaan saba Israa'el. Ilmummaan, ulfinni, kakuun, seera fudhachuun, tajaajiluu fi
waadaan kan isaanii ti. 5 Abbootiin kan isaanii ti; Kiristoosis* isaan irraa fooniin
dhalate; inni waan hunda irratti Waaqa; inni bara baraan haa eebbifamu! Ameen.
6 Kun garuu dubbiin Waaqaa diigameera jechuu miti. Kan Israa'el irraa dhalate
hundi Israa'el miti. 7 Yookaan isaan sababii sanyii Abrahaam ta'aniif hundi isaanii
ijoollee isaa miti. Garuu, "Sanyiin kee Yisihaaqiin siif waamama"† jedhameera.
8 Kana jechuunis ijoollee waadaatu sanyiitti lakkaa'ama malee ijoolleen foon
irraa dhalatan ijoollee Waaqaa miti. 9 Dubbiin waadaa sunis kan, "Ani yeroo
murteeffametti deebi'ee nan dhufa; Saaraanis ilma ni deessi"‡ jedhu tureetii.
10 Kana qofa miti; Ribqaan yeroo namuma tokkoof, abbaa keenya Yisihaaqiif
ulfooftetti, 11 ijoolleen sun utuu hin dhalatin yookaan utuu waan gaarii yookaan waan
hamaa hin hojjetin akka kaayyoon filannoo Waaqaa raawwatamuuf, 12 utuu hojiin

* **8:36** 8:36 Far 44:22 * **9:5** 9:5 yookaan Masiihichis † **9:7** 9:7 Uma 21:12 ‡ **9:9** 9:9 Uma 18:10,14

hin ta'in isa waamicha Waaqaatiin, “Inni hangafni isa quxisuu tajaajila”§ jedhamee
isheetti himame. 13 Kunis akkuma, “Yaaqoobin nan jaalladhe; Esaawun garuu nan
jibbe”* jedhamee barreeffamee dha.
14 Egaa maal jenna ree? Waaqni jal'aadhaa? Gonkumaa akkas miti! 15 Inni
Museedhaan,
“Ani kanan maaru nan maara;
kanan garaa laafuufiis garaa nan laafa”†
jedhaatii. 16 Kanaafuu wanti kun araara Waaqaatiin malee hawwii yookaan
carraaqqii namaatiin miti. 17 Katabbiin qulqulluun Fara'ooniin, “Ani humna koo
sirratti argisiisuuf, maqaan koos akka lafa hunda irratti labsamuuf kaayyoo kanaaf
si kaaseera”‡ jedhaatii. 18 Kanaaf Waaqni kan maaruu barbaadu ni maara; kan mata
jabeessa gochuu barbaadu immoo mata jabeessa godha.
19 Isinis, “Yoos Waaqni maaliif amma iyyuu dogoggora nurra barbaada? Fedhii
isaas eenyutu mormuu danda'a?” naan jettu. 20 Garuu yaa namichoo, Waaqaan
mormuuf ati eenyu? “Wanti tolfame tokko kan isa tolcheen, 'Ati maaliif akkanatti na
tolchite?' ”§ jedhaa? 21 Suphee dhooftuun tokko dhoqqee suphee kan bukaa'e irraa
qodaa ulfinaa fi salphinaaf oolu tolchuuf mirga hin qabuu?
22 Waaqni dheekkamsa isaa argisiisuu fi humna isaas beeksisuuf jedhee yoo mi'a
dheekkamsaa kanneen badiisaaf qopheeffaman obsa guddaan bira darbe hoo? 23 Inni
badhaadhummaa ulfina isaa yoo mi'a araara isaa kanneen duraan dursee ulfinaaf
qopheessetti beeksisuuf jedhee waan kana godhe hoo? 24 Nus warra waamaman
keessaa tokkoo dha; inni Yihuudoota qofa keessaa utuu hin ta'in Namoota Ormaa
keessaas waameera. 25 Inni kitaaba Hoose'aa keessatti akkana jedha:
“Ani warra saba koo hin ta'iin, 'saba koo' nan jedha;
ishee jaallatamtuu hin ta'iin immoo,
'jaallatamtuu' nan jedha.”*
26 Akkasumas isaan,
“Iddoodhuma itti, 'Isin saba koo miti'
isaaniin jedhame sanatti, 'ilmaan Waaqa jiraataa'
jedhamanii ni waamamu.”†
27 Isaayyaas akkana jedhee waa'ee Israa'el iyya:
“Baay'inni ilmaan Israa'el
yoo akkuma cirracha qarqara galaanaa ta'e iyyuu,
hambaa qofatu fayya.
28 Gooftaan utuu hin turin,
yeroo dhumaatiif lafa irratti ni muraatii.”
29 Kunis akkuma Isaayyaas duraan dursee akkana jedhee dubbatee dha:
“Utuu Gooftaan Waan Hunda Danda'u,
sanyii nuuf hambisuu baatee,
nu silaa akkuma Sodoom taanee,
Gomoraas fakkaanna turre.”‡

*Amantii Dhabuu Israa'el*

30 Egaa maal jenna ree? Namoonni Ormaa kan qajeelummaa duukaa hin bu'in
qajeelummaa karaa amantiitiin ta'e argataniiru. 31 Israa'eloonni seera qajeelummaa
duukaa bu'an garuu qajeelummaa hin arganne. 32 Maaliif dhaban? Kunis
sababii isaan utuu karaa amantiitiin hin ta'in hojiidhaan qajeelummaa argachuu
barbaadaniif; isaanis dhagaa nama gufachiisuun gufatan. 33 Kunis akkuma,

---

§ **9:12** 9:12 Uma 25:23 * **9:13** 9:13 Mil 1:2,3 † **9:15** 9:15 Bau 33:19 ‡ **9:17** 9:17 Bau 9:16 § **9:20** 9:20 Isa 29:16; 45:9 * **9:25** 9:25 Hos 2:23 † **9:26** 9:26 Hos 1:10 ‡ **9:29** 9:29 Isa 1:9

"Kunoo, ani dhagaa nama gufachiisu,
kattaa nama kuffisu Xiyoon keessa nan kaa'a;
namni isatti amanu gonkumaa hin qaana'u"§
jedhamee barreeffame sanaa dha.

## 10

1 Yaa obboloota, hawwiin garaa kootii fi wanni ani Israa'elootaaf Waaqa kadhadhu
akka isaan fayyaniif. 2 Ani akka isaan Waaqaaf hinaaffaa qaban dhugaa nan ba'a;
hinaaffaan isaanii garuu kan beekumsa irratti hundeeffame miti. 3 Isaan waan
qajeelummaa Waaqa biraa dhufu hin beekinii fi waan qajeelummaa ofii isaanii
uumachuu barbaadaniif qajeelummaa Waaqaatiif hin bulle. 4 Akka namni amanu
hundinuu qajeelummaa argatuuf Kiristoos raawwii seeraatii.
5 Museen waa'ee qajeelummaa seeraan argamuu, "Namni waan seerri ajaju godhu
ittiin jiraata"* jedhee waan kana barreesseeraatii. 6 Qajeelummaan amantiidhaan
argamu garuu akkana jedha; "Ati garaa kee keessatti, 'Eenyutu gara samiitti ol
ba'a?'† hin jedhin;" Kun Kiristoosin gad buusuuf; 7 "Yookaan, 'Eenyutu qileetti
gad bu'a?'‡ hin jedhin;" kun Kiristoosin warra du'an keessaa ol baasuuf. 8 Inni
garuu maal jedha? "Dubbichi si bira jira; afaan keetii fi garaa kee keessa jira;"§
innis dubbii amantii isa nu lallabnuu dha; 9 kunis yoo ati, "Yesuus Gooftaa dha"
jettee afaan keetiin dhugaa baatee akka Waaqni warra du'an keessaa isa kaase garaa
keetti amante, ati ni fayyita. 10 Namni garaa isaatiin amanee qajeelaa taasifamaatii;
afaan isaatiinis dhugaa ba'ee fayya. 11 Katabbiin Qulqulluun, "Namni isatti amanu
kam iyyuu gonkumaa hin qaana'u"* jedhaatii. 12 Yihuudii fi Giriikii gidduu garaa
garummaan hin jiruutii; Gooftuma tokkicha sanatu Gooftaa hundaa ti; innis warra isa
waammatan hunda eebba isaatiin badhaasa. 13 "Namni maqaa Gooftaa waammatu
hundinuu ni fayyaatii."†
14 Yoos isaan akkamitti isa itti hin amanin waammachuu danda'u ree? Isa waa'ee
isaa hin dhaga'inittis akkamitti amanuu danda'u ree? Utuu namni isaanitti hin
lallabinis akkamitti dhaga'uu danda'u ree? 15 Isaanis utuu hin ergamin akkamitti
lallabuu danda'u? Kunis isa, "Miilli warra wangeela fidanii akkam miidhagaa dha!"‡
jedhamee barreeffamee dha.
16 Oduu gaarii sanas kan fudhate Israa'eloota hunda miti. Isaayyaas, "Yaa Gooftaa,
ergaa keenya eenyutu amane?"§ jedhaatii. 17 Egaa amantiin ergaa dhaga'uudhaan
dhufa; ergaan kunis karaa dubbii waa'ee Kiristoosiin dhaga'ama. 18 Ani garuu: Isaan
hin dhageenye moo? jedhee nan gaafadha; dhugumaanuu isaan dhaga'aniiru:
"Sagaleen isaanii lafa hunda,
dubbiin isaaniis handaara addunyaa ga'e."*
19 Ammas ani: Israa'el hin hubanne moo? jedheen gaafadha. Museen duraan dursee,
"Ani warra saba hin ta'iniin akka isin hinaaftan nan godha;
saba hubannaa hin qabneenis isin nan aarsaa"†
jedha. 20 Isaayyaasis ija jabinaan,
"Warri na hin barbaadin na argatan;
warra na hin iyyaafatinittis nan mul'adhe"‡
jedha. 21 Waa'ee Israa'el garuu,
"Ani guyyaa guutuu gara uummata hin ajajamnee fi didaa ta'eetti
harka koo nan diriirfadhe"§

§ **9:33** 9:33 Isa 8:14; 28:16 * **10:5** 10:5 Lew 18:5 † **10:6** 10:6 KeD 30:13 ‡ **10:7** 10:7 KeD 30:13 § **10:8** 10:8 KeD 30:14 * **10:11** 10:11 Isa 28:16 † **10:13** 10:13 Yoe 2:32 ‡ **10:15** 10:15 Isa 52:7 § **10:16** 10:16 Isa 53:1 * **10:18** 10:18 Far 19:4 † **10:19** 10:19 KeD 32:21 ‡ **10:20** 10:20 Isa 65:1 § **10:21** 10:21 Isa 65:2

jedha.

# 11

*Hambaa Israa'el*

[1] Anis, "Egaa Waaqni saba isaa ni gatee ree?" jedhee nan gaafadha. Kun gonkumaa
akkas miti! Ani iyyuu Israa'elicha, sanyii Abrahaam keessaa gosa Beniyaam.
[2] Waaqni saba isaa warra duraan dursee beeke sana hin ganne; isin waa'ee Eeliyaas,
inni akkamitti Waaqa duratti akka Israa'elin himate Katabbiin Qulqulluun maal
akka jedhu hin beektanii? Innis akkana jedha: [3] "Yaa Gooftaa isaan raajota kee
ajjeesaniiru; iddoo aarsaa keetii illee diiganiiru; anuma qofatu hafe; anas ajjeesuu
barbaadu."* [4] Garuu deebiin Waaqni isaaf kenne maal ture? "Ani ofii kootiif
namoota Ba'aaliif hin jilbeenfatin 7,000 hambifadheera."† [5] Akkasuma yeroo ammaas
hambaawwan ayyaanaan filataman jiru. [6] Erga ayyaanaan ta'e immoo si'achi hojiin
miti; utuu hojiin ta'ee immoo ayyaanni silaa ayyaana hin ta'u ture.
[7] Egaa maali ree? Israa'el waan jabeessee barbaade sana hin arganne; warri
filataman garuu argataniiru. Warri kaan immoo mataa jabaatan. [8] Kunis isa,

"Waaqni hamma guyyaa har'aatti,
akka iji isaanii hin argineef,
akka gurri isaaniis hin dhageenyeef,
hafuura nama dawweessu isaaniif kenne"‡

jedhamee barreeffamee dha. [9] Daawitis akkana jedha;

"Maaddiin isaanii iddaa fi kiyyoo,
gufuu nama gufachiisuu fi adaba isaanitti haa ta'u.
[10] Akka arguu hin dandeenyeef iji isaanii haa haguuggamu;
dugdi isaaniis bara baraan haa goophatu."§

*Namoonni Ormaa Fayyina Argatan*

[11] Anis deebisee, "Isaan hamma kufanii ka'uu hin dandeenyetti gufatanii?" jedheen
gaafadha. Kun gonkumaa akkas miti! Garuu akka sabni Israa'el hinaafuuf sababii
balleessaa isaaniitiif fayyinni Namoota Ormaatiif dhufe. [12] Yoos erga balleessaan
isaanii addunyaaf badhaadhummaa fidee, kufaatiin isaaniis erga Namoota Ormaatiif
badhaadhummaa fidee, guutummaan isaanii immoo hammam caalaa badhaadhum-
maa haa fiduu ree?
[13] Yaa Namoota Ormaa, ani isinittin dubbadha. Ani waanan ergamaa Namoota
Ormaa ta'eef, tajaajila koo nan kabaja. [14] Kanaanis ani tarii saba koo hinaaffaaf
kakaasee isaan keessaa tokko tokko fayyisuu abdadhee ti. [15] Erga gatamuun isaanii
addunyaaf araara fidee, fudhatamuun isaanii immoo warra du'an keessaa jireenyatti
kaafamuu malee maal fida ree? [16] Kutaan bukoo kan akka kennaa hangafaatti
dhi'eeffame tokko erga qulqulluu ta'ee, bukoon guutuun qulqulluu dha; hiddi erga
qulqulluu ta'ee, dameewwan isaas akkasuma qulqulloota.
[17] Dameewwan sana keessaa tokko tokko caccabsamnaan ati utuma lataa ejersa
bosonaa taatee jirtuu iddoo dameewwan caccabaniitti fayyifamtee soora hidda
ejersaa irraa argamu kan qooddattu taanaan, [18] dameewwan sanatti hin koorin. Yoo
of jajje garuu hidda sanatu si baata malee akka ati hidda sana hin baanne hubadhu.
[19] Atis, "Akka ani itti fayyifamuuf dameewwan sun caccabsaman" ni jetta. [20] Kun
dhuguma. Isaan waan amantii hin qabneef caccabsaman; ati garuu amantiidhaan
dhaabatteerta. Kanaafuu sodaadhu malee of hin tuulin. [21] Waaqni yoo dameewwan
uumamaatiif hin hilin siifis hin hiluutii.

---

* **11:3** 11:3 1Mt 19:10,14 † **11:4** 11:4 1Mt 19:18 ‡ **11:8** 11:8 KeD 29:4; Isa 29:10 § **11:10** 11:10 Far 69:22,23

22 Egaa arjummaa fi gara jabina Waaqaa hubadhu: gara jabinni isaa warra kufan
irratti; arjummaan isaa garuu hamma ati arjummaa isaa keessa jiraattutti siif; yoo
kanaa achii atis ni kutamta. 23 Isaanis yoo amantii dhabuutti fufuu baatan itti
fayyifamu; Waaqni deebisee itti isaan fayyisuu ni danda'aatii. 24 Ati muka uumamaan
ejersa bosonaa ta'e irraa muramtee karaa seera uumamaatiin ala ta'een muka ejersaa
kan dhaabame irratti erga fayyifamtee, dameewwan uumamaa kunneen hammam
caalaa muka ejersa isaanii irratti deebifamanii hin fayyifaman ree!

### *Israa'eloonni Hundinuu Ni fayyu*

25 Yaa obboloota, ani akka isin ogeeyyii of seetanii icciitii kana wallaaltan hin
barbaadu; hamma lakkoobsi Namoota Ormaa guutuun seenutti Israa'el gariin mata
jabinaan jiraachaa turan. 26 Kanaafuu Israa'el hundi ni fayyu; akkana jedhamee
barreeffameeraatii:
"Inni furu Xiyoonii ni dhufa;
Yaaqoob irraas Waaqa malee jiraachuu ni balleessa.
27 Yommuu ani cubbuu isaanii isaan irraa fuudhutti,
kakuun koo kan ani isaan wajjin qabu kana."*
28 Akka wangeelaatti isiniif jecha isaan diinota; akka filannootti garuu abbootiif
jecha isaan jaallatamoo dha; 29 kennaan Waaqaatii fi waamichi isaa gaabbii hin
qabuutii. 30 Akkuma isin kanaan dura Waaqaaf ajajamuu diddanii amma garuu
ajajamuu diduu isaaniitiin araara argattan sana 31 isaanis akkasuma araara Waaqaa
kan isin argattaniin akka araara argataniif amma ajajamuu didan. 32 Waaqni
hunduma isaaniitiif araara buusuuf jedhee namoota hunda ajajamuu diduu jala
galche.

### *Waaqa Jajuu*

33 Badhaadhummaan ogummaatii fi
beekumsa Waaqaa hammam gad fagaata!
Murtiin isaa qoramee bira hin ga'amu!
Karaan isaas barbaadamee itti hin ba'amu!
34 "Eenyutu yaada garaa Gooftaa beeke?
Yookaan eenyutu gorsaa isaa ture?"†
35 "Yookaan akka Waaqni deebisee isaaf kennuuf jedhee,
eenyutu takkumaa Waaqaaf waa kenne?"‡
36 Wanti hundinuu isa irraa dhufe; isumaan dhufe; isaaf dhufe.
Bara baraan ulfinni isaaf haa ta'u! Ameen.

## 12

### *Aarsaa Jiraataa*

1 Kanaafuu yaa obboloota, akka isin dhagna keessan aarsaa jiraataa, qulqullaa'aa
fi kan Waaqa gammachiisu gootanii dhi'eessitaniif ani gara laafina Waaqaatiin
isin kadhadha; kunis waaqeffannaa keessan kan hafuuraa ti. 2 Fedhiin Waaqaa
gaariin, gammachiisaanii fi kan mudaa hin qabne maal akka ta'e qorattanii akka
mirkaneessuu dandeessaniif haaromfamuu qalbii keessaniitiin geeddaramaa malee
addunyaa kana hin fakkaatinaa.
3 Ani ayyaana naa kennameen tokkoo tokkoo keessan nan gorsaatii: Akka madaalii
amantii kan Waaqni isinii kenne sanaatti qalbeeffannaadhaan waa'ee ofii keessanii
yaadaa malee hamma yaaduu qabdanii olitti hin yaadinaa. 4 Akkuma dhagni keenya
kutaa baay'ee qabu, akkuma kutaawwan kunneenis hojii wal fakkaatu hin qabaatin

* **11:27** 11:27 Isa 27:9; 59:20,21; Erm 31:33,34 † **11:34** 11:34 Isa 40:13 ‡ **11:35** 11:35 Iyo 41:11

sana [5] akkasuma immoo nu warri baay'ee taane Kiristoosiin dhagna tokkoo dha;
tokkoon tokkoon kutaa dhagnaa kan walii isaanii ti. [6] Nu akkuma ayyaana nuu
kennameetti kennaa garaa garaa qabna. Yoo kennaan nama tokkoo raajii dubbachuu
ta'e, inni akkuma amantii isaatitti haa dubbatu. [7] Yoo tajaajiluu ta'e, haa tajaajilu;
yoo barsiisuu ta'e, haa barsiisu; [8] yoo jajjabeessuu ta'e, haa jajjabeessu; yoo warra
rakkataniif kennuu ta'e, arjummaadhaan haa kennu; yoo bulchuu ta'e, jabaatee haa
bulchu; yoo maaruu ta'e, gammachuun haa maaru.

### *Jaalala*

[9] Jaalalli keessan itti fakkeessuudhaan hin ta'in. Waan hamaa jibbaa; waan
gaariitti maxxanaa. [10] Jaalala obbolummaatiin jabeessaa wal jaalladhaa. Ulfina
walii kennuutti wal dorgomaa. [11] Gooftaa tajaajiluu keessatti hafuura gubaa
qabaadhaa malee hinaaffaa hin dhabinaa. [12] Abdiidhaan gammadaa; dhiphina obsaa;
kadhannaatti cimaa. [13] Qulqulloota rakkataniif waa gumaachaa. Keessummoota
simadhaa.
[14] Warra isin ari'atan eebbisaa; eebbisaa malee hin abaarinaa. [15] Warra gammadan
wajjin gammadaa; warra boo'an wajjin boo'aa. [16] Walii galteedhaan wajjin jiraadhaa.
Warra jireenya gad aanaa jiraatan wajjin jiraadhaa malee hin koorinaa. Of hin
tuulinaa.
[17] Nama kamiif iyyuu hammina hamminaan hin deebisinaa. Nama hunda duratti
waan gaarii hojjedhaa. [18] Yoo danda'ame, gama keessaniin nama hunda wajjin
nagaan jiraadhaa. [19] Yaa jaallatamtoota, dheekkamsa Waaqaatiif iddoo kennaa malee
haaloo hin ba'inaa; Gooftaan, "Haaloo baasuun kan koo ti; ani gatii nan deebisa"*
jedha, jedhamee barreeffameeraatii. [20] Garuu,
"Yoo diinni kee beela'e, beela baasi;
yoo inni dheebotes, waan inni dhugu kenniif.
Kana gochuu keetiin barbadaa ibiddaa mataa isaa irra tuulta."†
[21] Gaarummaan hammina mo'i malee hamminaan hin mo'amin.

# 13

### *Abbootii Taayitaa Jalatti Buluu*

[1] Namni kam iyyuu warra taayitaa bulchiinsaa irra jiran jalatti buluu qaba; yoo
Waaqa irraa ta'e malee taayitaa qabaachuun hin danda'amuutii. Warra taayitaa
qaban Waaqatu muude. [2] Kanaafuu namni abbootii taayitaatiin mormu sirna
Waaqaatiin morma; warri akkas godhanis murtii ofitti fidu. [3] Bulchitoonni warra
waan hamaa hojjetan malee warra waan gaarii hojjetan hin sodaachisan. Ati akka
nama taayitaa qabu hin sodaanne ni barbaaddaa? Egaa waan gaarii hojjedhu; inni
iyyuu si galateeffataatii. [4] Inni waan gaarii siif gochuudhaaf tajaajilaa Waaqaatii. Ati
garuu yoo waan hamaa hojjette sodaadhu; inni akkasumaan goraadee hin qabatuutii.
Inni tajaajilaa Waaqaa kan warra waan hamaa hojjetan irratti dheekkamsa fiduun
haaloo baasuu dha. [5] Kanaafuu sababii dheekkamsaa qofaaf utuu hin ta'in, yaada
qulqulluudhaan warra taayitaa irra jiran jalatti buluun barbaachisaa dha.
[6] Isinis kanumaaf qaraxa baaftu; abbootiin taayitaa tajaajiltoota Waaqaa warra
yeroo isaanii guutuu hojii bulchiinsaatiif kennaniidhaatii. [7] Waan nama hundaaf
kennuun isin irra jiru kennaa; yoo qaraxa ta'e qaraxa, yoo gibira ta'e immoo gibira
baasaa; yoo sodaachuu ta'e sodaadhaa; yoo ulfina kennuu ta'es, ulfina kennaa.

### *Wal jaalladhaa*

[8] Isin wal jaallachuu malee gatii tokko illee of irraa hin qabaatinaa; namni nama
biraa jaallatu kam iyyuu seera raawwateeraatii. [9] Ajajawwan, "Hin ejjin; hin ajjeesin;

---

* **12:19** 12:19 KeD 32:35 † **12:20** 12:20 Fak 25:21,22

hin hatin; hin hawwin"* jedhanii fi ajajni biraas seera, "Ollaa kee akkuma ofii keetiitti
jaalladhu"† jedhu kanaan walitti guduunfamu. 10 Jaalalli ollaa isaa hin miidhu.
Kanaafuu jaalalli raawwii seeraa ti.
11 Yeroon isin hirribaa dammaqxan amma akka ta'e hubadhaa. Yeroo nu itti
amanne sana caalaa fayyinni keenya amma nutti dhi'aateeraatii. 12 Halkan bari'uu
ga'eera; guyyaanis dhi'aateera. Kanaafuu hojii dukkanaa of irraa gannee mi'a lolaa
kan ifaa haa hidhannu. 13 Kottaa akka yeroo guyyaatti amala gaariin haa jiraannu;
addaggummaa fi machiidhaan miti; jireenya sagaagalummaa fi gad dhiisiitiin miti;
wal loluu fi hinaaffaadhaan miti. 14 Qooda kanaa Yesuus Kiristoos Goofticha uffadhaa;
akka itti hawwii foonii gammachiiftan hin yaadinaa.

# 14

*Obboleessa Keetti Hin Murin*

1 Nama amantiitti dadhabaa ta'e ofitti qabaa; waan wal nama falmisiisu irrattis
itti hin murinaa. 2 Namni tokko akka waan hunda nyaachuu danda'u amana; namni
amantiin isaa dadhabaa ta'e kaan garuu biqiltuu qofa nyaata. 3 Namni nyaatu kan
hin nyaatin hin tuffatin; inni hin nyaatinis kan nyaatutti hin murin; Waaqni isa ofitti
qabeeraatii. 4 Hojjetaa nama kaaniitti kan murtu ati eenyu? Inni yoo dhaabates yoo
kufes gooftaa isaatiif. Waan Gooftaan isa dhaabachiisuu danda'uufis ni dhaabata.
5 Namni tokko akka waan guyyaan tokko guyyaa kaan caaluutti yaada; namni kaan
immoo guyyaan hundi tokkuma jedhee yaada. Namni kam iyyuu yaada ofii isaa
guutummaatti amanee haa fudhatu. 6 Namni guyyicha kabaju Gooftaaf jedhee kabaja;
kan guyyicha hin kabajnes Gooftaaf jedhee hin kabaju. Kan nyaatu Gooftaaf jedhee
nyaata; inni Waaqa galateeffataatii; kan hin nyaannes Gooftaaf jedhee hin nyaatu;
Waaqas ni galateeffata. 7 Nu keessaa namni mataa isaatiif jiraatu, kan mataa isaatiif
du'us hin jiruutii. 8 Nu yoo jiraanne Gooftaaf jiraanna; yoo duunes Gooftaaf duuna.
Kanaafuu yoo jiraannes yoo duunes nu kan Gooftaa ti. 9 Sababii kanaaf Kiristoos
Gooftaa du'aaleyyiitii fi jiraatoo ta'uuf du'e; deebi'ees jiraataa ta'e.
10 Yoos ati maaliif obboleessa keetti murta ree? Yookaan maaliif obboleessa kee
tuffatta ree? Nu hundi teessoo murtii Waaqaa dura ni dhaabannaatii. 11 Kunis:
" 'Ani jiraataadhaatii;
jilbi hundi anaaf ni jilbeenfata;
arrabni hundi Waaqaaf dhugaa ba'a' jedha Gooftaan"*
jedhamee barreeffameeraatii. 12 Kanaafis tokkoon tokkoon keenya waa'ee mataa
keenyaa fuula Waaqaa duratti deebii ni kennina.
13 Kanaafuu nu walitti muruu haa dhiifnu. Qooda kanaa akka karaa obboleessa
keessanii irra gufuu yookaan waan gufachiisu tokko illee hin keenye murteeffadhaa.
14 Akka wanni ofuma isaatiin xuraa'aa ta'e tokko iyyuu hin jirre ani karaa Gooftaa
Yesuus nan beeka; nan amanas. Nama wanni tokko xuraa'aadha jedhee yaaduuf
garuu wanni sun isaaf xuraa'aa dha. 15 Yoo wanni ati nyaattu obboleessa kee miidhe,
ati jaalalaan jiraachaa hin jirtu. Ati waan nyaattuun obboleessa kee isa Kiristoos
isaaf du'e hin balleessin. 16 Kanaafuu wanti isin gaariidha jettan akka arrabsamu
hin godhinaa. 17 Mootummaan Waaqaa qajeelummaa, nagaa fi gammachuu Hafuura
Qulqulluun ta'eedha malee waa'ee nyaataa fi dhugaatii mitiitii. 18 Namni haala
kanaan Kiristoosin tajaajilu Waaqa gammachiisaatii; namoota birattis fudhatama
argata.
19 Kanaaf waan nagaa fidu gochuu fi wal ijaaruuf haa tattaaffannu. 20 Nyaataaf
jettee hojii Waaqaa hin balleessin. Nyaanni hundi qulqulluu dha; garuu waan

* **13:9** 13:9 Bau 20:13-15,17; KeD 5:17-19; 5:21 † **13:9** 13:9 Lew 19:18 * **14:11** 14:11 Isa 45:23

nama biraa gufachiisu kam iyyuu nyaachuun nama tokkoof dogoggora. 21 Akka
obboleessi kee hin gufanneef, foon nyaachuu dhiisuun yookaan daadhii wayinii
dhuguu dhiisuun yookaan waan biraa kam iyyuu gochuu dhiisuun gaarii dha.
22 Kanaafuu ati amantii waan kana irratti qabdu kam iyyuu fuula Waaqaa duratti
ofumaa keetii qabaadhu. Namni waan amanee fudhate irratti ofitti hin murre
eebbifamaa dha. 23 Namni shakkii qabu garuu nyaachuun isaa waan amantiin hin
ta'iniif yoo nyaate isatti murama; wanni amantiin hin ta'in kam iyyuu cubbuudhaatii.

# 15

1 Nu warri jajjaboo taane, dadhabbii warra dadhaboo baachuu qabna malee
ofuma gammachiisuu hin qabnu. 2 Tokkoon tokkoon keenya ollaa keenya ijaaruuf,
akka isatti toluuf waan isa gammachiisu gochuu qabna. 3 Kiristoos iyyuu ofii isaa
hin gammachiifneetii; kun garuu akkuma, "Arrabsoon warra si arrabsanii narra
ga'eera"* jedhamee barreeffamee dha. 4 Nu akka obsaa fi jajjabina Katabbiiwwan
Qulqulluun kennaniin abdii qabaannuuf wanti duraan barreeffame hundi barumsa
keenyaaf barreeffameetii.
5 Waaqni obsaa fi jajjabina namaa kennu sun akka isin yaaduma Kiristoos Yesuus
qabaate sana walii qabaattan isin haa gargaaru. 6 Kunis akka isin yaada tokkoo fi
afaan tokkoon Waaqaaf, Abbaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiif ulfina kennitaniif.
7 Kanaaf akkuma Kiristoos ulfina Waaqaatiif jedhee isin simatetti isinis wal simad-
haa. 8 Kiristoos dhugaa Waaqaatiif jedhee waadaa abbootiif kenname mirkaneessuuf
akka tajaajilaa warra dhagna qabatanii ta'e ani isinittin himaatii; 9 kunis akka
Namoonni Ormaa sababii araara isaatiif Waaqa ulfeessaniif. Innis akkuma,

"Kanaafuu ani Namoota Ormaa gidduutti sin jajadha;
maqaa keetiifis nan faarfadha"†

jedhamee barreeffamee dha. 10 Amma illee,

"Yaa Namoota Ormaa, isin saba isaa wajjin gammadaa"‡

jedha. 11 Amma illee,

"Yaa Namoota Ormaa, hundi keessan Gooftaa jajadhaa;
namoonni hundinuus faarfannaadhaan isa leellisaa"§

jedha. 12 Akkasumas Isaayyaas,

"Hiddi Isseey kan saboota bulchuuf
ka'u tokko ni dhufa;
Namoonni Ormaas isa abdatu"*

jedha.
13 Isinis akka humna Hafuura Qulqulluutiin abdiitti akka malee guddattaniif,
Waaqni abdii sun isa amanachuu keessaniin gammachuu fi nagaa hundumaan isin
haa guutu.

*Phaawulos Tajaajilaa Namoota Ormaa Ta'uu Isaa*

14 Yaa obboloota ko, isin ofii keessanii akka gaarummaadhaan guutuu taatan, akka
beekumsaan guutamtanii fi akka wal gorsuu dandeessan ani iyyuu hubadheera.
15 Ani sababii ayyaana Waaqni naaf kenneetiif waan tokko tokko isin yaadachiisuuf
jedhee ija jabinaan isinii barreesseera; 16 kunis akka Namoonni Ormaa Hafuura
Qulqulluun Qulqulleeffamanii fuula Waaqaa duratti aarsaa fudhatama qabu ta'anii
fi akka ani lubummaa wangeela Waaqaa lallabuutiin Namoota Ormaatiif tajaajilaa
Kiristoos Yesuus ta'uuf.
17 Kanaafuu ani Waaqa tajaajiluu kootiin Kiristoos Yesuusiin nan boona. 18 Ani
waan Kiristoos waan ani jedhee fi hojjedheen akka Namoonni Ormaa Waaqaaf

* **15:3** 15:3 Far 69:9 † **15:9** 15:9 2Sm 22:50; Far 18:49 ‡ **15:10** 15:10 KeD 32:43 § **15:11** 15:11 Far 117:1
* **15:12** 15:12 Isa 11:10

ajajaman gochuudhaan karaa kootiin raawwateen alatti homaa dubbachuuf ija
hin jabaadhu; [19] kunis humna mallattoo fi dinqiitiin, humna Hafuura Qulqul-
luutiinis raawwatame. Kanaafuu ani Yerusaalemii jalqabee naanna’uun hamma
Ilwaariqoonitti guutummaatti wangeela Kiristoos lallabeera. [20] Ani akka hundee
namni biraa buuse irratti hin ijaarreef lafa Kiristoos itti hin beekaminitti wangeela
lallabuuf yeroo hunda tattaaffadheera. [21] Kunis isa,
“Warri waa’een isaa itti hin himamin ni argu;
warri hin dhaga’inis ni hubatu”†
jedhamee barreeffamee dha. [22] Anis kan yeroo baay’ee gara keessan dhufuu
dhowwameef kanuma.

### *Phaawulos Roomaa dhaquuf Karoorfate*

[23] Amma garuu naannoowwan kanneenitti iddoon itti hojjedhu waan hin jirree
fi anis waan isin arguuf waggaa baay’ee hawwaa tureef, [24] yeroo Isphaaniyaa
dhaqu isinitti goruu nan yaada. Anis yeroo achi irra darbu erga isin argee
xinnoo isin wajjin gammadee booddee akka imala koo irratti na gargaartan nan
abdadha. [25] Amma garuu ani qulqulloota tajaajiluuf Yerusaalem dhaquuttin
jira. [26] Warri Maqedooniyaatii fi Akaayaa qulqulloota Yerusaalem jiraatan keessaa
kanneen hiyyeeyyii ta’aniif buusii gochuutti gammadaniiruutii. [27] Isaan waan kana
gochuuf ni gammadan; dhugumaanuu waan kana isaaniif gochuun dirqama isaanii ti.
Namoonni Ormaa erga eebba hafuuraa Yihuudoota irraa qooddatanii, eebba isaanii
kan foonii immoo Yihuudootaaf qooduun dirqama isaanii ti. [28] Kanaaf ani ergan
waan kana raawwadhee, akka isaan buusii kana fudhatan mirkaneeffadhee booddee
goree isin ilaalee Isphaaniyaa nan dhaqa. [29] Ani yommuu gara keessan dhufu akka
eebba Kiristoosiin guutamee dhufu nan beeka.
[30] Yaa obboloota, akka isin kadhannaa Waaqa kadhattan keessatti naaf kad-
hachuudhaan na wajjin dhamaatan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin, jaalala
Hafuura Qulqulluutiinis isinin kadhadha. [31] Akka ani namoota Yihuudaa keessa
jiraatan kanneen hin amanin jalaa ba’uu fi akka tajaajilli koos Yerusaalem keessatti
qulqulloota achi jiraatan biratti fudhatama argatu naaf kadhadhaa; [32] kunis akka
ani fedhii Waaqaatiin, gammachuudhaan isin bira dhufee isin wajjin boqodhuuf.
[33] Waaqni nagaa hunduma keessan wajjin haa ta’u. Ameen.

## 16

### *Phaawulos Nagaa Dhaamuu Isaa*

[1] Obboleettii keenya Feebeen tajaajiltuu waldaa kiristaanaa ishee Kanchire’aa
imaanaa isinitti nan kennadha. [2] Isheen namoota baay’eef, anaafis gargaarsa
guddaa waan taateef akka isin simannaa qulqullootaaf maluun Gooftaadhaan ishee
simattanii fi akka gargaarsa isheen isin irraa barbaaddu kam iyyuu isheef gootan
isinin kadhadhaa.

[3] Phirisqilaa fi Aqiilaa, warra Kiristoos Yesuusiin na wajjin tajaajilanitti nagaa naa
himaa. [4] Isaan naa jedhanii lubbuu isaanii balaaf saaxilan. Utuu ana qofa hin ta’in
Waldaaleen Kiristaanaa Namoota Ormaa hundinuus isaan galateeffatu.
[5] Waldaa Kiristaanaa kan mana isaaniitti walitti qabamtuttis nagaa naa himaa.
Biyya Asiyaa keessaa Kiristoositti amanuutti hangafa kan ta’e michuu koo jaallata-
maa Axeenexoonittis nagaa naa himaa.
[6] Maariyaam ishee baay’ee isinii dhamaatettis nagaa naa himaa.

† **15:21** 15:21 Isa 52:15

7 Firoota koo warra na wajjin hidhaman Androoniqoosii fi Yuuniyaanittis nagaa naa himaa. Isaan warra ergamoota keessaa maqaa gaarii qaban kanneen na dura Kiristoositti amananii dha.
8 Amphiliyaaxos isa ani Gooftaadhaan jaalladhutti nagaa naa himaa.
9 Urbaanos isa Kiristoosin nu wajjin tajaajiluu fi michuu koo jaallatamaa Isxaakisittis nagaa naa himaa.
10 Apheelees isa Kiristoositti amanamuun isaa qoramee mirkaneeffametti nagaa naa himaa.
Warra mana Arisxoobuluu jiraatanittis nagaa naa himaa.
11 Fira koo Heroodiyoonaatti, nagaa naa himaa.
Warra mana Naarkisoos jiraatan kanneen Gooftaatti amananittis nagaa naa himaa.
12 Warra Gooftaatti amananii dhama'an Tiriifeenaa fi Tiriifoosaatti nagaa naa himaa.
Pharsiis jaallatamtuu hojii Gooftaatti amantee baay'ee dhamaatettis nagaa naa himaa.
13 Ruufoos isa Gooftaadhaan filatamee fi haadha isaa ishee anaafis haadha taatetti nagaa naa himaa.
14 Asinqiriixoositti, Fileegoonitti, Hermeesitti, Phaaxroobaasitti, Hermaasittii fi obboloota isaan wajjin jiranitti nagaa naa himaa.
15 Filologoonitti, Yuuliyaatti, Neeriyoosittii fi obboleettii isaatti, Olimphaasittii fi qulqulloota isaan wajjin jiran hundattis nagaa naa himaa.
16 Dhungoo qulqulluudhaan nagaa wal gaafadhaa.
Waldaaleen Kiristoos hundinuu nagaa isinii dhaamu.

17 Yaa obboloota, ani akka isin warra gargar ba'uu uumanii barumsa isin
barattaniinis mormuudhaan karaa keessan irra gufuu kaa'an irraa of eeggattan
isin kadhadha. Isaan irraa fagaadhaa.
18 Namoonni akkasii garaa ofii malee
Gooftaa keenya Kiristoosin hin tajaajilaniitii. Isaan afaan toluu fi saaduudhaan qalbii
namoota garraamii ni hatu.
19 Waa'een ajajamuu keessanii nama hundumaa biratti
dhaga'ameera; anis isinitti nan gammada; garuu akka isin waan gaariif ogeeyyii,
waan hamaaf immoo garraamota taatan nan barbaada.

20 Waaqni nagaa dafee Seexana miilla keessan jalatti ni burkuteessa.

Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus isin wajjin haa ta'u.

21 Xiimotewos inni na wajjin tajaajilu, akkasumas firoonni koo Luukiyoos, Yaasonii fi Soosiiphaaxroos nagaa isinii dhaamu.
22 Ani Xerxiwoos barreessaan xalayaa kanaa Gooftaadhaan nagaa isinii dhaama.
23 Gaayoos inni anaa fi waldaa Kiristaanaa guutuu keessumsiisus nagaa isinii dhaama.
Bulchaan maallaqaa kan magaalaa kanaa Erisxoos, akkasumas obboleessi keenya
Qu'asxiroos nagaa isinii dhaamu. [
24 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isin
hunda wajjin haa ta'u.]*

25 Egaa Waaqni akka wangeela koottii fi lallaba waa'ee Yesuus Kiristoositti, akka
mul'ata icciitii bara dheeraaf dhokfamee tureettis jabeessee isin dhaabuu ni danda'a;
26 amma garuu akka saboonni hundinuu Waaqatti amananii fi isaaf ajajamaniif
icciitiin sun ajaja Waaqa bara baraatiin katabbiiwwan raajotaatiin ifatti baafameera;

* **16:24** 16:24 Luqqisaan 24 waraabbilee tokko tokko qofa keessatti argama.

beeksifameeras. 27 Waaqa kophaa isaa ogeessa ta'e sanaaf karaa Yesuus Kiristoosiin
ulfinni bara baraan haa ta'u! Ameen.

# Qorontos
# Tokkoffaa

1 Phaawulos isa akka ergamaa Kiristoos Yesuus ta’uuf fedhii Waaqaatiin waamamee
fi obboleessa keenya Soosteenes irraa,

2 Gara waldaa Waaqaa ishee Qorontos keessa jirtuutti, gara warra Kiristoos
Yesuusiin qulqulleeffamanii fi warra lafa hundaa kanneen maqaa Gooftaa keenya
Yesuus Kiristoos isa Gooftaa isaaniitii fi Gooftaa keenyas ta’e sanaa waammatan
hunda wajjin qulqulloota ta’uuf waamamaniitti:

3 Ayyaannii fi nagaan Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa isiniif
haa ta’u.

### *Galata Galchuu*

4 Ani yeroo hunda ayyaana Waaqaa isa Kiristoos Yesuusiin isinii kennameef
waa’ee keessaniif Waaqa nan galateeffadha. 5 Isinis karaa hundaan jechuunis dubbii
fi beekumsa hundaan isaan badhaataniirtu; 6 wanti nu waa’ee Kiristoos dhugaa
baane sun isin gidduutti mirkaneeffameeraatii. 7 Kanaafuu utuu mul’achuu Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoos eeggachaa jirtanuu kennaan hafuuraa tokko iyyuu isin jalaa
hin hir’atu. 8 Akka isin guyyaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoositti warra mudaa
hin qabne taataniifis inni hamma dhumaatti jabeessee isin eega. 9 Waaqni gara
tokkummaa Ilma isaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoositti isin waame sun amanamaa
dha.

### *Gargar Ba’uu Waldaa Kiristaanaa*

10 Yaa obboloota, ani akka isin gidduu gargar ba’uun hin jiraannee fi akka qalbii fi
yaada tokko qabaattanii hundi keessan walii galtaniif maqaa Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoosiin isin kadhadha. 11 Yaa obboloota ko, akka isin gidduu lolli jiru warri
mana Kilo’ee jiraatan tokko tokko natti himaniiru. 12 Wanti ani jedhus kana: Isin
keessaa namni tokko, “Ani kan Phaawulos” jedha; inni kaan, “Ani kan Apholoos”
jedha; kaanis, “Ani kan Keefaa ti” jedha; kaan immoo, “Ani kan Kiristoos” jedha.
13 Kiristoos gargar qoodameeraa? Phaawulositu isinii fannifame ree? Yookaan
maqaa Phaawulosiin cuuphamtanii? 14 Ani Kiriisphoosii fi Gaayoosin malee isin
keessaa nama tokko illee waan hin cuuphiniif Waaqa nan galateeffadha. 15 Kanaaf
namni akka isin maqaa kootiin cuuphamtan dubbachuu danda’u tokko iyyuu hin jiru.
16 Eeyyee, ani warra mana Isxiifaanaas jiraatanis akkasuma cuupheera; sanaan alatti
nama biraa tokko illee cuuphuu koo hin yaadadhu. 17 Kiristoos akka ani wangeela
lallabuuf malee akka ani cuuphuuf na hin ergineetii; anis akka fannoon Kiristoos
humna hin dhabneef dubbii ogummaa namaatiin hin lallabu.

### *Kiristoos Ogummaa fi Humna Waaqaa ti*

18 Dubbiin fannoo warra baduuf jiraniif gowwummaadhaatii; nu warra fayyinuuf
garuu humna Waaqaa ti. 19 Kunis,
“Ani ogummaa ogeeyyii nan balleessa;
hubannaa hubattootaas nan fashaleessa”*
jedhamee barreeffameera.

---

* **1:19** 1:19 Isa 29:14

[20] Namni ogeessi eessa jira? Hayyuun eessa jira? Falaasamaan bara kanaa
eessa jira? Waaqni ogummaa addunyaa kanaa gowwummaa hin goonee ree?
[21] Sababii ogummaa Waaqaatiin addunyaan karaa ogummaa isheetiin Waaqa waan
hin beekiniif, Waaqni gowwummaa lallabaatiin warra amanan fayyisuu jaallate.
[22] Yihuudoonni mallattoo fedhu; Giriikonni immoo ogummaa barbaadu; [23] nu garuu
Kiristoos isa fannifame sana lallabna; innis Yihuudootatti gufuu dha; Namoota
Ormaatiif immoo gowwummaa dha; [24] warra waamamaniif garuu Yihuudootaafis
ta'u Giriikotaaf Kiristoos humna Waaqaatii fi ogummaa Waaqaa ti. [25] Gowwummaan
Waaqaa ogummaa namaa caalaa ogeessaatii; dadhabbiin Waaqaas jabina namaa irra
jabaa dha.
[26] Yaa obboloota, isin yeroo waamamtanitti maal akka turtan yaadadhaa. Akka
ilaalcha namaatti baay'een keessan ogeeyyii hin turre; baay'een keessanis beekamoo
hin turre; baay'een keessan immoo sanyii warra gurguddaa irraa hin dhalanne.
[27] Waaqni garuu ogeeyyii qaanessuuf jedhee waan addunyaa irratti gowwaa ta'e
filate; Waaqni warra jajjabeeyyii qaanessuuf jedhee waan addunyaa irratti dadhabaa
ta'e filate. [28] Waaqni waan jiru waan hin jirre gochuuf, waan addunyaa kana irratti
gad aanaa fi tuffatamaa ta'e, waan iddoo hin qabnes filate; [29] kunis akka eenyu
iyyuu isa duratti of hin jajneef. [30] Isin sababii isaatiin kan Kiristoos Yesuus taatan;
inni ogummaa keenya kan Waaqa biraa dhufe jechuunis qajeelummaa keenya,
qulqullummaa fi furii keenyaa dha. [31] Kunis akkuma, "Namni boonu Gooftaadhaan
haa boonu"† jedhamee barreeffamee dha.

# 2

[1] Yaa obboloota, ani yeroon gara keessan dhufetti, afaan toluun yookaan ogummaa
guddaadhaan dhuga ba'umsa waa'ee Waaqaa lallabaa hin dhufne. [2] Ani yeroon isin
bira turetti Yesuus Kiristoos isa fannifame sana malee akka waan tokko illee hin
beekne murteesseen tureetii. [3] Ani dadhabbiin, sodaa fi hollannaa guddaadhaan gara
keessan dhufe. [4] Ergaan koo fi lallabni koo Hafuuraa fi humna argisiisuudhaan malee
dubbii ogummaa fi sossobbii of keessaa qabuun hin turre; [5] kunis akka amantiin
keessan humna Waaqaa irratti malee ogummaa namaa irratti hin hundeeffamneef.

### *Ogummaa Hafuura Irraa Argamu*

[6] Haa ta'uu malee nu warra bilchaatan gidduutti ogummaa dubbanna; garuu
ogummaa addunyaa kanaa yookaan ogummaa bulchitoota addunyaa kanaa kanneen
baduuf jiranii miti. [7] Garuu nu ogummaa Waaqaa, ogummaa dhokfamee ture,
isa Waaqni uumama addunyaatiin dura ulfina keenyaaf jedhee murteesse sanaa
icciitiidhaan dubbanna. [8] Bulchitoota addunyaa kanaa keessaa tokko iyyuu ogummaa
kana hin hubanne; isaan utuu hubatanii jiraatanii silaa Gooftaa ulfinaa hin fannisan
tureetii. [9] Ta'u iyyuu akkuma,
"Waan Waaqni warra isa jaallataniif
qopheesse iji hin argine,
gurri hin dhageenye,
garaa namaattis hin yaadamne"*
jedhamee barreeffame sana, [10] Waaqni garuu Hafuura isaatiin waan kana nutti
mul'iseera.
Hafuurri wantoota hunda, wantoota Waaqaa kanneen gad fagoo ta'an illee ni qora.
[11] Hafuura isa keessa jiru malee yaada nama tokkoo eenyutu beeka? Akkasuma
immoo Hafuura Waaqaa malee kan yaada Waaqaa beeku tokko iyyuu hin jiru.
[12] Nu akka waan Waaqni toluma nuu kenne hubannuuf Hafuura Waaqa irraa dhufe

† **1:31** 1:31 Erm 9:24 * **2:9** 2:9 Isa 64:4

arganne malee hafuura addunyaa hin arganne. 13 Wanni nu dubbannus kana;
nu dubbii Hafuurri nu barsiisuun malee dubbii ogummaan namaa barsiisuun hin
dubbannu; dhugaa Hafuuraas dubbii Hafuuraatiin ibsina. 14 Namni foonii wantoota
Hafuura Waaqaa hin fudhatu; kun isaaf gowwummaadhaatii; wantoonni Hafuuraa
waan Hafuuraan qoramaniif inni hubachuu hin danda'u. 15 Namni Hafuuraa waan
hundumaa ni qora; ofii isaatii garuu eenyuun iyyuu hin qoramu.
16 “Akka isa barsiisuuf,
eenyutu yaada garaa Gooftaa beeke?”†
Nu garuu yaada garaa Kiristoos qabna.

# 3

*Waa'ee Gargar Ba'uu Waldaa Kiristaanaa*

1 Yaa obboloota, ani akka namoota foonii warra Kiristoositti daa'imman taataniitti
malee akka namoota Hafuuraatti isinitti dubbachuu hin dandeenye. 2 Waan isin
nyaata jabaa nyaachuu hin ga'iniif ani aannan isiniif kenne malee nyaata cimaa
isinii hin kennine. Dhugumaan isin amma iyyuu nyaachuu hin dandeenye. 3 Isin
amma iyyuu nama foonii ti. Sababii hinaaffaa fi wal qoccoluun isin gidduu jiruuf
isin nama foonii mitii? Akkuma namoota kaaniitti jiraattu mitii? 4 Namni tokko,
“Ani kan Phaawulos” jedhee, inni kaan immoo, “Ani kan Apholoos” yoo jedhe isin
namuma qofa mitii ree?
5 Egaa Apholoos eenyu? Phaawulosis eenyu? Isaan warra akkuma hojii Gooftaan
tokkoo tokkoo isaaniitiif kenneetti tajaajilanii dha; isin immoo karaa isaaniitiin
amantan. 6 Ani nan dhaabe; Apholoos bishaan obaase; Waaqni garuu ni guddise.
7 Kanaafuu Waaqa isa guddisu sana malee namichi dhaabu yookaan inni bishaan
obaasu sun homaa miti. 8 Inni dhaabus, inni bishaan obaasus tokkuma; tokkoon
tokkoon isaaniis akkuma dadhabbii isaaniitti gatii ni argatu. 9 Nu warra Waaqa wajjin
hojjennuu dha; isin lafa qotiisaa Waaqaa ti; ijaarsa Waaqaatis.
10 Anis ayyaana Waaqni naa kenneen akkuma ogeessa ijaarsaa tokkootti hundee
buuseera; namni kaan immoo isa irratti ijaaraa jira. Garuu tokkoon tokkoon namaa
akkamitti akka ijaaru of eeggachuu qaba. 11 Namni tokko iyyuu hundee duraan
buufame sana malee kan biraa buusuu hin danda'uutii; hundeen sunis Yesuus
Kiristoos. 12 Namni kam iyyuu yoo hundee sana irratti warqeen, meetiin, dhagaa
gatii guddaatiin, mukaan, citaan yookaan hoffaan ijaare, 13 guyyaan sun waan ifatti
isa baasuuf hojiin isaa maal akka ta'e ni beekama. Innis ibiddaan ifatti baafama;
ibiddi sunis qulqullina hojii nama hundaa ni qora. 14 Yoo wanni inni ijaare utuu hin
gubatin hafeef inni gatii isaa ni argata. 15 Namni hojiin isaa jalaa gubate kam iyyuu
gatii isaa ni dhaba; inni mataan isaa garuu ni oolfama; ta'us akka nama ibidda keessa
darbeetti oolfama.
16 Isin akka mana qulqullummaa Waaqaa taatanii fi akka Hafuurri Waaqaa isin
keessa jiraatu hin beektanii? 17 Eenyu iyyuu yoo mana qulqullummaa Waaqaa
balleesse, Waaqni isa ni balleessa; manni qulqullummaa Waaqaa qulqulluudhaatii;
manni qulqullummaa sunis isin.
18 Eenyu iyyuu of hin gowwoomsin. Isin keessaa namni tokko yoo addunyaa kana
irratti ogeessa of se'e, inni akka ogeessa ta'uuf gowwaa haa ta'u. 19 Ogummaan
addunyaa kanaa fuula Waaqaa duratti gowwummaadhaatii. Kunis isa, “Inni ogeeyyii
haxxummaa isaaniitiin qaba”* jedhamee barreeffamee dha. 20 Akkasumas, “Goof-
taan akka yaadni ogeeyyii faayidaa hin qabne ni beeka”† jedhameera. 21 Kanaafuu
eenyu iyyuu namaan hin booniin! Wanni hundinuu keessaniitii; 22 Phaawulosis

---

† **2:16** 2:16 Isa 40:13 * **3:19** 3:19 Iyo 5:13 † **3:20** 3:20 Far 94:11

ta'u Apholoos yookaan Keefaan yookaan addunyaan yookaan jireenyi yookaan duuti
yookaan wanti amma jirus ta'u wanti dhufu hundinuu keessan; [23] isin kan Kiristoos;
Kiristoos immoo kan Waaqaa ti.

# 4

*Ergamoota Kiristoos*

[1] Kanaafuu namni akka tajaajiltoota Kiristoosii fi akka warra icciitiin Waaqaa
imaanaa itti kennameetti nu ilaaluu qaba. [2] Warra imaanaan itti kenname sanas
amanamoo ta'uutu irraa eegama. [3] Yoo isiniin yookaan nama kaaniin natti murame
ani homaattuu hin lakkaa'u; dhugumaan anuu ofitti hin muru. [4] Yaadni garaa koo
qulqulluu dha; kun garuu qulqullina koo hin mirkaneessu. Kan natti muru Gooftaa
dha. [5] Kanaafuu isin utuu yeroon murteeffame sun hin ga'in murtii tokko iyyuu hin
kenninaa; hamma Gooftaan dhufutti eegaa. Inni waan dukkana keessatti dhokfame
ifatti ni baasa; hawwii garaa namaas ni mul'isa. Yeroo sana namni hundinuu Waaqa
biraa galata ni argata.

[6] Egaa yaa obboloota, ani akka isin jechi, "Waan barreeffame irra hin darbin" jedhu
sun maal jechuu akka ta'e nurraa barattaniif bu'aa keessaniif jedhee waan kana
hunda Apholoosii fi ofii kootti fakkeesseera; kunis akka isin nama tokko isa kaan
caalchiftanii hin koorreef. [7] Eenyutu akka ati warra kaan caaltu si godhe? Wanni
Waaqni siif hin kennin kan ati qabdu maal faatu jira? Erga siif kennamee immoo
akka waan kennaa hin ta'iniitti maaliif boonta ree?
[8] Amma isin waan barbaaddan hundumaa argattaniirtu! Sooromtaniirtus! Nurraa
gargar baatanii mootota taataniirtu! Nus akka isin wajjin mootota taanuuf utuu
isin mootota taatanii ani akkaman hawwa ture! [9] Waaqni, nu ergamoota akka
namoota duuti itti murtaa'eetti waan dhuma hiriiraa nu taasise natti fakkaataatii.
Nu addunyaa duratti, ergamootaa fi namoota durattis waan daawwatamu taaneerra.
[10] Nu Kiristoosiif jennee gowwoota; isin garuu Kiristoosiin ogeeyyii dha! Nu
dadhaboo dha; isin immoo jajjabeeyyii dha! Isin kabajamtoota; nu immoo
tuffatamtoota! [11] Hamma sa'aatii ammaatti ni beelofna; ni dheebonna; ni daarra;
ni reebamna; mana jireenyaas hin qabnu. [12] Harkuma keenyaan hojjechuudhaanis
ni dadhabna. Yommuu abaaramnu ni eebbifna; yommuu ari'atamnus ni obsina.
[13] Yommuu arrabsamnu, waan gaarii deebifna; hamma yeroo kanaattis xurii lafaatii
fi kosii addunyaa taaneerra.

*Waamichaa fi Akeekkachiisa Phaawulos*

[14] Kanas isinii barreessuun koo akka ijoollee koo kanneen jaallatamaniitti isin
gorsuudhaaf malee isin qaanessuuf miti. [15] Isin yoo karaa Kiristoosiin guddiftoota
kuma kudhan qabaattan iyyuu, abbootii baay'ee hin qabdan; ani Kiristoos Yesuusiin
karaa wangeelaatiin abbaa keessan ta'eeraatii. [16] Kanaaf ani akka isin fakkeenya
koo duukaa buutan isinan kadhadha. [17] Sababii kanaafis ani ilma koo isan jaalladhu,
kan Gooftaattis amanamaa ta'e Xiimotewosin gara keessanitti ergeera. Innis haala
jireenya koo kan ani Kiristoos Yesuusiin argadhe kan waan ani iddoo hundatti waldaa
kiristaanaa hunda keessatti barsiisu wajjin deemu sana isin yaadachiisa.

[18] Isin keessaa namoonni tokko tokko waan ani gara keessan hin dhufne se'anii
of tuulanii jiru. [19] Yoo fedhii Waaqaa ta'e garuu ani dafee gara keessan nan dhufa;
ergasii waan of tuultonni kunneen dubbatan qofa utuu hin ta'in humna isaan qabanis
beekuu nan barbaada. [20] Mootummaan Waaqaa humnaan malee dubbiidhaan miti.
[21] Isin maal barbaaddu? Ani ulee qabadhee moo jaalalaa fi hafuura gad of qabuutiin
gara keessan dhufa?

# 5

*Halalummaa Waldaa keessa Jiru*

[1] Akka halalummaan ormoota keessatti illee hin beekamin isin gidduu jiru
odeeffamaa jira: namni niitii abbaa isaa wajjin ciise tokko jiraatii. [2] Isinis of
tuultaniirtu! Qooda kanaa akka malee gadditanii namicha waan akkasii hojjete sana
tokkummaa keessan keessaa baasuun isin irra hin jiruu? [3] Ani fooniin isin biratti
argamuu baadhu illee hafuuraan isin wajjinan jira. Ani akka waan isin wajjin jiruutti
namicha waan akkasii hojjetetti ammuma mureera. [4] Yommuu isin maqaa Gooftaa
keenya Yesuusiin walitti qabamtanitti anis yeroo hafuuraan isin wajjin ta'uuttii
fi humna Gooftaa keenya Yesuus arganutti, [5] akka foon isaa balleeffamuuf, akka
hafuurri isaa immoo guyyaa Gooftaatti fayyuuf namicha kana dabarsaatii Seexanatti
kennaa.
[6] Of tuuluun keessan gaarii miti. Isin akka raacitiin xinnoon bukoo guutuu
bukeessitu hin beektanii? [7] Isin waan bukoo raacitii hin qabne taataniif akka Maxinoo
haaraa taataniif raacitii moofaa of keessaa baasaatii gataa; hoolaan Faasiikaa keenya,
Kiristoos aarsaa nuuf ta'eeraatii. [8] Kanaafuu kottaa raacitii moofaa yookaan raacitii
jal'inaatii fi hamminaatiin utuu hin ta'in Buddeena Hin bukaa'in kan qulqullinaa fi
dhugaa of keessaa qabuun ayyaanicha ayyaaneffannaa.
[9] Ani akka isin namoota halalummaadhaan jiraatan wajjin walitti dhufeenya hin
qabaanneef xalayaa koo keessatti isinii barreesseen ture; [10] kunis gonkumaa namoota
halalummaadhaan addunyaa kana irra jiraatan yookaan doqnootaa fi saamtota
yookaan warra Waaqa tolfamaa waaqeffatan jechuu koo miti. Utuu akkas ta'ee
immoo silaa addunyaa kana keessaa ba'uu qabdu ture. [11] Ani garuu akka isin nama,
"Ani obboleessa" ofiin jechaa halalummaan jiraatu yookaan doqna yookaan nama
Waaqa tolfamaa waaqeffatu yookaan maqaa nama balleessu yookaan machooftuu
yookaan saamtuu wajjin walitti dhufeenya hin qabaanneef amma isinii barreessa.
Nama akkasii wajjin nyaata iyyuu hin nyaatinaa!
[12] Warra ala jiranitti muruun hojii kootii? Isin warra keessa jiranitti muruu hin
qabdanii? [13] Waaqni warra ala jiranitti ni mura; "Nama hamaa of keessaa baasaa!"*

# 6

*Wal Himachuu Amantootaa*

[1] Isin keessaa namni kam iyyuu yoo nama biraa irraa falmii qabaate, dhimma
isaa qulqulloota duratti dhi'eeffachuu irra akkamitti warra Waaqatti hin amanin
duratti murtiif dhi'eeffachuuf ija jabaata? [2] Isin akka qulqulloonni addunyaatti
muran hin beektanii? Erga kan addunyaatti murtan taatanii waan xixinnootti muruu
hin dandeessanii? [3] Isin akka nu ergamoota Waaqaatti murru hin beektanii? Yoos
hammam caalaa waan jireenya addunyaa kanaatti haa murru ree? [4] Egaa yoo falmii
dhimma akkasii qabaattan maaliif namoota waldaa Kiristaanaa keessatti tuffataman
duratti dhi'eeffattu ree? [5] Anis isin qaanessuuf waan kana nan dubbadha. Namni
beekaan falmii amantoota gidduu jiruuf murtii kennuu danda'u tokko iyyuu hin
jiru jechuudhaa? [6] Obboleessi tokko obboleessa kaan himachuuf jedhee mana murtii
dhaqa; kunis fuula warra hin amannee duratti!
[7] Wal himachuun keessan amma iyyuu guutumaatti mo'atamuu keessan argisiisa.
Qooda kanaa dabni isinitti hojjetamuu hin wayyuu? Gowwoomfamuu isinii hin
wayyuu? [8] Garuu isin mataan keessan iyyuu ni gowwoomsitu; dabas ni hojjettu;
kanas obbolootuma keessanitti hojjettu. [9] Isin akka jal'oonni mootummaa Waaqaa
hin dhaalle hin beektanii? Hin gowwoominaa: halaleewwan yookaan warri Waaqa

* **5:13** 5:13 KeD 17:7; 19:19; 21:21; 22:21,24; 24:7

tolfamaa waaqeffatan yookaan ejjitoonni yookaan dhiironni sagaagaltoonni yookaan
dhiironni dhiira wajjin sagaagalan, 10 yookaan hattoonni yookaan doqnoonni
yookaan machooftonni yookaan warri maqaa nama balleessan yookaan saamtonni
mootummaa Waaqaa hin dhaalan. 11 Gariin keessan akkas turtan. Ta'us isin maqaa
Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosii fi Hafuura Waaqa keenyaatiin dhiqamtaniirtu;
qulqullooftaniirtu; qajeeltotas taasifamtaniirtu.

*Halalummaa*

12 "Wanti hundinuu naaf eeyyamameera;" kan faayidaa qabu garuu hunda isaa
miti; "Wanti hundinuu naaf eeyyamameera;" garuu wanti tokko iyyuu na hin mo'atu.
13 "Nyaanni garaadhaaf; garaanis nyaataaf;" Waaqni garuu lachan isaanii iyyuu
ni balleessa. Dhagni Gooftaa tajaajiluudhaaf malee halalummaaf miti; Gooftaanis
dhagnaaf. 14 Waaqni humna isaatiin warra du'an keessaa Gooftaa kaaseera; nus
akkasuma ni kaasa. 15 Isin akka dhagni keessan kutaa dhagna Kiristoos ta'e hin
beektanii? Yoos ani kutaa dhagna Kiristoos fuudhee kutaa dhagna sagaagaltuu
godhuu ree? Gonkumaa hin ta'u! 16 Isin akka namni sagaagaltuu wajjin wal
qunnamtii qabu tokko ishee wajjin dhagna tokko ta'u hin beektanii? "Lamaan isaanii
iyyuu foon tokko ni ta'u"* jedhameeraatii. 17 Namni Gooftaa wajjin tokko ta'e garuu
Gooftaa wajjin hafuuraan tokko.

18 Halalummaa irraa baqadhaa. Namni cubbuu biraa hunda dhagna isaatii alatti
hojjeta; namni halalummaa hojjetu garuu dhagnuma ofii isaatti cubbuu hojjeta.
19 Isin akka dhagni keessan mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isin keessa
jiraatu, kan Waaqa irraa argattan sanaa ta'e hin beektanii? Isin kan ofii keessanii
miti; 20 isin gatiin bitamtan; kanaafuu dhagna keessaniin Waaqaaf ulfina kennaa.

# 7

*Waa'ee Fuudhaa fi Heerumaa*

1 Waa'ee waan isin naa barreessitan sanaa, namni tokko utuu fuudhuu baatee
isaaf gaarii dha. 2 Garuu waan halalummaan jiruuf dhiirri hundi niitii ofii isaa
haa qabaatu; dubartiin hundis dhirsa ofii ishee haa qabaattu. 3 Dhirsi waan niitii
isaatiif malu haa guutuuf; niitiinis akkasuma dhirsa isheetiif haa guuttu. 4 Niitiin
dhagna ofii ishee irratti aangoo hin qabdu; kan aangoo qabu dhirsa. Akkasuma
immoo dhirsi dhagna ofii isaa irratti aangoo hin qabu; kan aangoo qabdu niitii dha.
5 Yoo kadhannaatti jabaachuuf jettanii yeroof itti walii galtan malee wal hin didinaa.
Ergasiis akka of qabuu dadhabuu keessaniin Seexanni isin hin qorreef deebi'aa wajjin
jiraadhaa. 6 Kanas ani eeyyamaan malee ajajaaf hin dubbadhu. 7 Ani utuu namni
hundumtuu akkuma koo ta'ee nan hawwa ture. Garuu namni hundi kennaa ofii isaa
kan Waaqni isaaf kenne qaba; inni tokko kennaa tokko, kaan immoo kennaa biraa
qaba.

8 Ani warra hin fuudhinii fi warra hin heeruminiin, haadhota hiyyeessaatiin illee
akkanan jedha: Isaan yoo akkuma koo fuudhaa fi heeruma malee hafan isaaniif
wayya. 9 Yoo of qabuu dadhaban garuu haa fuudhan yookaan haa heeruman;
hawwiin gubachuu irra fuudhuu yookaan heerumuu wayyaatii.

10 Warra fuudhanii fi warra heerumaniifis ajajni ani kennu kana: Ajaja kanas
Gooftaatu kenna malee ana miti; niitiin dhirsa isheetiin gargar hin ba'in. 11 Yoo
gargar baate garuu utuu hin heerumin haa jiraattu; yoo kanaa achii dhirsa isheetti
haa araaramtu. Dhirsis niitii isaa hin hiikin.

12 Warra hafaniinis ani akkanan jedha: Kana immoo anatu jedha malee Gooftaa
miti; obboleessi kam iyyuu yoo niitii amantii hin qabne qabaate, yoo isheenis isa

* **6:16** 6:16 Uma 2:24

wajjin jiraachuuf fedhii qabaatte, inni ishee hin hiikin. 13 Dubartiin tokkos yoo dhirsa
amantii hin qabne qabaatte, yoo innis ishee wajjin jiraachuuf fedhii qabaate, isheen
isa hin hiikin. 14 Dhirsi amantii hin qabne karaa niitii isaatiin qulqulleeffameeraatii;
niitiin amantii hin qabnes karaa dhirsa isheetiin qulqulleeffamteertii. Yoo kanaa
achii ijoolleen keessan xuraa'oo ta'u; amma garuu qulqulloota.
15 Namni amantii hin qabne garuu yoo gargar ba'uu fedhe gargar haa ba'u.
Obboleessi tokko yookaan obboleettiin tokko haala akkasii keessatti hin hidhaman;
Waaqni akka isin nagaan jiraattaniif isin waameeraatii. 16 Yaa niitii, ati dhirsa kee
ni fayyifta ta'aatii maal beekta? Yookaan yaa dhirsa, ati niitii kee ni fayyifta ta'aatii
maal beekta?

### *Eenyummaa Geeddarame*

17 Tokkoon tokkoon namaa garuu akkuma jireenya Gooftaan kenneefiitti, akkuma
Waaqni isa waamettis haa jiraatu. Waldoota Kiristaanaa hunda keessattis ajajni
koo kanuma. 18 Namni tokko waamamuu isaatiin dura dhagna qabatee ture? Inni
nama dhagna hin qabatin ta'uu hin qabu. Namni tokko waamamuu isaatiin dura
dhagna hin qabannee? Inni dhagna hin qabatin. 19 Ajaja Waaqaa eeguutu faayidaa
qaba malee dhagna qabachuun yookaan qabachuu baachuun faayidaa hin qabu.
20 Tokkoon tokkoon namaa haaluma yeroo Waaqni isa waametti keessa ture keessa
haa jiraatu.
21 Ati yeroo waamamtetti garba turtee? Yoo akkas ta'e inni si hin yaaddessin;
yoo bilisa ba'uu dandeesse garuu itti fayyadami. 22 Namni yeroo Gooftaadhaan
waamametti garba ture inni gooftaadhaaf bilisa; akkasuma immoo namni yeroo
waamametti bilisa ture inni garbicha Kiristoos. 23 Isin gatiidhaan bitamtan; garboota
namootaa hin ta'inaa. 24 Yaa obboloota, tokkoon tokkoon namaa haaluma yeroo itti
waamametti keessa tureen fuula Waaqaa dura haa jiraatu.

### *Waa'ee Warroota Hin fuudhinii*

25 Ani waa'ee dubarran qulqulluu ajaja Gooftaan natti kenne hin qabu; garuu
akka nama amanamaa ta'uuf araara Gooftaa argate tokkootti yaada koo nan kenna.
26 Sababii rakkina ammaatiif jettanii akkuma jirtanitti turuun isiniif gaarii natti
fakkaata. 27 Ati niitiitti hidhamteertaa? Ishee hiikuu hin barbaadin. Ati niitii irraa
hiikamteertaa? Niitii hin barbaadin. 28 Ati garuu yoo fuute cubbuu hojjechuu kee
miti; durbis yoo heerumte cubbuu hojjechuu ishee miti. Ta'us addunyaa kana irratti
warra fuudhanii fi warra heeruman rakkinatu argata; ani immoo rakkina kana jalaa
isin baasuun barbaada.
29 Yaa obboloota, wanti ani jedhu kana; yeroon murteeffame sun gabaabateera;
si'achi warri niitii qaban akka waan hin qabaatiniitti haa jiraatan; 30 warri boo'an
akka waan hin boo'iniitti, warri gammadan akka waan hin gammadiniitti, warri
waa bitatan akka waan wanni bitatan sun kan isaanii hin ta'iniitti, 31 warri waan
addunyaa kanaatti fayyadamanis akka waan itti hin fayyadaminiitti haa hedan. Bifti
addunyaa kanaa ni badaatii.
32 Ani akka isin yaaddoo malee jiraattan nan hawwa. Namni hin fuudhin
tokko Gooftaa gammachiisuuf dhimma Gooftaatti dhimma. 33 Namni fuudhe
garuu niitii isaa gammachiisuuf dhimma addunyaatti dhimma; 34 fedhiin isaas
gargar qoodameera. Dubartiin hin heerumin yookaan durbi qulqulluun dhagnaa fi
hafuuraan qulqulluu ta'uuf dhimma Gooftaatti dhimmiti. Dubartiin heerumte garuu
dhirsa ishee gammachiisuuf dhimma addunyaatti dhimmiti. 35 Kana jechuun koos
isin fayyaduuf malee kiyyootti isin galchuuf miti; qooda kanaa akka isin yaada gargar
hin hiraminiin karaa qajeelaa irra Gooftaaf jiraattan nan hawwa.

36 Namni kam iyyuu yoo durba kaadhimate sirriitti qabuu baate, yoo umuriin ishee
dabalaa deemee innis akka ishee fuudhuu qabu yaade, akkuma fedhii isaa haa godhu.
Inni cubbuu hojjechuu isaa miti. Isaan wal fuudhuu qabu. 37 Garuu namni waan kana
yaada ofii isaatiin murteesse, kan dirqama tokko illee jala hin jirree fedhii ofii isaa
mo'achuu danda'u, kan akka durba sana hin fuune murteeffate, innis waan qajeelaa
hojjete. 38 Kanaafuu namni durba fuudhu waan qajeelaa hojjete; kan ishee fuudhuu
dhiise immoo caalaa waan qajeelaa hojjete.
39 Dubartiin tokko hamma dhirsi ishee jirutti isatti hidhamteerti. Yoo dhirsi ishee
du'e garuu isheen abbaa barbaaddetti heerumuuf bilisa; garuu inni nama Gooftaa
ta'uu qaba. 40 Akka yaada kootti garuu isheen yoo utuu hin heerumin hafte caalaa
gammaddi; anis Hafuura Waaqaa of keessaa nan qaba jedheen yaada.

# 8

### *Nyaata Waaqota Tolfamoof Dhi'eeffame*

1 Waa'ee nyaata waaqota tolfamoof aarsaa dhi'eeffamee akka nu hundinuu
beekumsa qabnu beekna. Beekumsi of nama tuulchisa; jaalalli garuu nama ijaara.
2 Namni waan waa beeku of se'u inni amma illee akka beekuun isa irra jirutti hin
beeku. 3 Namni Waaqa jaallatu garuu Waaqaan beekameera.
4 Egaa waa'ee nyaata waaqota tolfamoof aarsaa dhi'eeffame nyaachuu irratti,
“Akka addunyaa kana irratti Waaqni tolfamaan homaa hin fayyadne, Waaqa tokkicha
malees akka Waaqni biraa hin jirre” beekna. 5 Dhugumaan akkuma waaqonni
baay'eenii fi gooftonni baay'een jiran sana wantoonni waaqota jedhaman samii irra
yookaan lafa irra jiraatan iyyuu, 6 garuu Waaqa tokkicha, Abbaa, kan wanni hundi
isa biraa dhufe, kan nus isaaf jiraannu qabna; akkasumas Gooftaa tokkicha, Yesuus
Kiristoos kan wanni hundi karaa isaatiin dhufee fi kan nuus karaa isaatiin jiraannutu
jira.
7 Garuu namni beekumsa kana qabu nama hunda miti. Namoonni tokko tokko
waaqota tolfamoo waan baraniif yommuu nyaata akkanaa nyaatanitti akka waan
Waaqa tolfamaaf dhi'eeffameetti hedu; yaadni garaa isaaniis waan dadhabaa ta'eef
ni xuraa'a. 8 Nyaanni garuu Waaqatti nu hin dhi'eessu; yoo nyaachuu baanne wanni
nutti hammaatu, yoo nyaannes wanni nutti tolu hin jiru.
9 Ta'us akka mirgi keessan kun warra dadhabootti gufuu hin taaneef of eeggadhaa.
10 Namni yaada dadhabaa qabu tokko yoo utuu ati iyyuu namni beekumsa qabdu
mana qulqullummaa Waaqa tolfamaa keessatti nyaattuu si arge inni waan waaqota
tolfamoof dhi'eeffame sana nyaachuuf ija hin jabaatuu? 11 Akkasiin obboleessi
dadhabaan Kiristoos isaaf jedhee du'e kun beekumsa keetiin bada. 12 Isinis yoo karaa
kanaan obboloota keessanitti cubbuu hojjettan, yaada isaanii isa dadhabaas yoo
madeessitan, isin Kiristoositti cubbuu hojjettu. 13 Kanaafuu yoo wanni ani nyaadhu
obboleessa koo gufachiise, ani akka obboleessi koo hin gufanneef gonkumaa deebi'ee
foon hin nyaadhu.

# 9

### *Mirga Ergamaa Tokkoo*

1 Ani bilisa mitii? Ani ergamaa mitii? Ani Gooftaa keenya Yesuusin hin arginee?
Isin bu'aa hojii ani Gooftaaf hojjedhee mitii? 2 Ani yoon warra kaaniif ergamaa
ta'uu baadhe iyyuu isiniif dhugumaan ergamaa dha! Isin Gooftaadhaan chaappaa
ergamtummaa koo ti.
3 Deebiin ani warra na qoraniif kennu kana. 4 Nu nyaachuu fi dhuguuf mirga
hin qabnuu? 5 Nu akkuma ergamoota kaanii, akkuma obboloota Gooftaatii fi

akkuma Keefaa niitii amantu tokko of faana fudhannee deemuuf mirga hin qabnuu?
6 Yookaan anaa fi Barnaabaas qofatu hojii dhiisuuf mirga hin qabnee?
7 Namni baasii ofii isaatiin loltuu ta'ee tajaajilu eenyu? Namni iddoo dhaabaa
wayinii irra wayinii dhaabee ija isaa hin nyaanne eenyu? Namni bushaayee
tiksaa aannan hin dhugne eenyu? 8 Kanas ani akka taayitaa namaa qofaanan
dubbadhaa? Seerris kanuma dubbata mitii? 9 Seera Musee keessatti, "Qotiyyoo
midhaan siribsiisuutti jiru afaan hin hidhin"* jedhamee barreeffameeraatii. Egaa
Waaqni qotiyyoodhaaf yaaduu isaatii ree? 10 Inni guutummaatti sababii keenyaaf
dubbachuu isaa mitii? Eeyyee, kun sababii keenyaaf barreeffame; sababiin isaa
inni qotu qotuun isaa, inni midhaan siribsiisus siribsiisuun isaa akka midhaan sana
keessaa qooddatu abdachaa hojjechuu qaba. 11 Nu waan hafuuraa isin keessatti
facaafnee yoo waan foonii isin irraa haammanne kun ni guddataa? 12 Erga warri kaan
mirga gargaarsaa kana isin irraa qabaattanii, nu immoo kan caalu hin qabaannuu
ree?

Nu garuu mirga kanatti hin fayyadamne. Nu wangeela Kiristoositti gufuu ta'uu mannaa waanuma hunda obsuu qabna.

13 Isin akka warri mana qulqullummaa keessa wantoota qulqulluu irra tajaajilan
nyaata isaanii mana qulqullummaa irraa argatan, akka warri iddoo aarsaa tajaajilan
immoo waan iddoo aarsaa irratti dhi'eeffamu irraa qooddatan hin beektanii?
14 Akkasuma immoo akka warri wangeela lallaban waan ittiin jiraatan wangeela irraa
argatan Gooftaan ajajeera.
15 Ani garuu mirga kana keessaa tokkotti illee hin fayyadamne. Kanas isiniif
barreessuun koo waan akkasii naa gootu jedhee abdadhee miti. Namni tokko
waan ani ittiin of jaju kana na jalaa busheessuu mannaa ani du'uu naa wayya!
16 Ani yoon wangeela lallabe of jajuu hin danda'u; lallabuun dirqama kootii. Yoon
wangeela lallabuu baadhe anaaf wayyoo! 17 Ani yoon fedhii kootiin lallabe badhaasa
qaba; yoon fedhii kootiin hin ta'in garuu ani imaanaadhuma natti kenname sana
raawwachuu koo ti. 18 Yoos badhaasni koo maali ree? Badhaasni koo, lallaba koo
keessatti ani mirga wangeelaan qabutti guutuumaan guutuutti utuu hin fayyadamin
kaffaltii malee wangeela lallabuu koo ti.

### *Phaawulos Mirga Isaatti Fayyadamuu Isaa*

19 Ani nama hunda irraa bilisa ta'u iyyuu nama gara caaluuf bu'aa buusuuf
jedhee nama hundaaf of garboomse. 20 Ani Yihuudootaaf bu'aa buusuuf jedhee
Yihuudootaaf akka Yihuudii nan ta'e. Yoon ofii kootii seera jala jiraachuu baadhe
iyyuu, warra seera jala jiraniif bu'aa buusuuf jedhee akka nama seera jala jiruu
nan ta'e. 21 Ani utuun seera Waaqaatiin ala hin ta'in, garuu utuman seera Kiristoos
jala jiruu, warra seera hin qabneef bu'aa buusuuf jedhee warra seera hin qabneef
akka nama seera hin qabneen ta'e. 22 Ani warra dadhaboof bu'aa buusuuf jedhee
warra dadhaboo biratti dadhabaan ta'e. Ani karaa danda'amu hundaan namoota
tokko tokko fayyisuuf jedhee nama hunda biratti waanuma hunda nan ta'e. 23 Akkan
wangeela keessatti hirmaadhuufis sababii wangeelaatiif jedhee waan kana hunda
nan hojjedha.

### *Barbaachisummaa Naamusa Dhuunfaa*

24 Dorgommii fiigichaa keessatti akka warri fiigan hundinuu dorgoman, garuu akka
namni tokko qofti badhaasa argatu hin beektanii? Isinis akkasuma akka badhaasa
argattaniif fiigaa! 25 Namni dorgommii keessatti dorgomu hundinuu leenjii cimaa
keessa darba. Isaan gonfoo badu argachuuf waan kana godhu; nu garuu gonfoo
hin badne argachuuf waan kana goona. 26 Kanaafuu ani akka nama kaayyoo malee

* **9:9** 9:9 KeD 25:4

fiiguutti hin fiigu; akka nama qilleensa rukutuutti hin lolu. [27] Ani garuu warra kaaniif
lallabee akka ofii kootii immoo nama gatame hin taaneef dhagna koo adabee akka
inni naa ajajamu nan godha.

# 10

*Israa'eloota Irraa Haa barannu*
[1] Yaa obboloota, akka abbootiin keenya hundi duumessa jala turan, akka hundi
isaaniis galaana keessa darban akka isin utuu hin beekin haftan ani hin barbaadu.
[2] Hundi isaaniis kan Musee ta'uuf duumessaa fi galaanaan cuuphaman. [3] Hundi
isaaniis nyaata hafuuraa tokkicha nyaatan. [4] Hundi isaaniis dhugaatii hafuuraa
tokkicha dhugan. Isaan kattaa hafuuraa isa isaan wajjin deemaa ture irraa
dhuganiiruutii; kattaan sunis Kiristoos ture. [5] Ta'u iyyuu waan Waaqni hedduu
isaaniitti hin gammadiniif isaan lafa gammoojjii keessatti dhuman.
[6] Wantoonni kunneen akka nu akkuma isaanii waan hamaa hin hawwineef
fakkeenya nuu ta'an. [7] Akka isaan keessaa namoonni tokko tokko godhan sana
isin waaqota tolfamoo hin waaqeffatinaa; kunis akkuma, "Namoonni nyaachuu
fi dhuguuf tataa'an; sirbuufis ka'an"* jedhamee barreeffamee dha. [8] Akka isaan
keessaa namoonni tokko tokko halalummaa raawwatanii guyyaa tokkotti namoonni
23,000 dhuman sana, nu halalummaa raawwachuu hin qabnu. [9] Akka isaan
keessaa tokko tokko Gooftaa qoranii bofaan ajjeefaman sana nu Gooftaa qoruu hin
qabnu. [10] Isin akka isaan keessaa tokko tokko guungumanii isa nama balleessuun
balleeffaman sana hin guunguminaa.
[11] Kun hundi akka fakkeenya ta'uuf isaan irratti raawwatame; nuu warra dhumni
baraa itti dhufeef immoo akka of eeggannaa ta'uuf barreeffame. [12] Kanaafuu namni
waan dhaabate of se'u akka hin kufneef of haa eeggatu. [13] Qorama nama irra ga'u
malee qoramni tokko iyyuu isinitti hin dhufne. Waaqnis amanamaa dha; inni akka
isin waan baachuu hin dandeenyeen qoramtan isin hin godhu. Yommuu qoramtanitti
garuu inni akka isin obsuu dandeessaniif karaa ittiin keessaa baatan isiniif qopheessa.

*Waaqota Tolfamoo Irraa Fagaachuu*
[14] Kanaafuu yaa michoota ko, isin waaqota tolfamoo waaqeffachuu irraa baqadhaa.
[15] Ani namoota hubannaa qabanittin dubbadha; waan ani dubbadhu isinuu mur-
teessaa. [16] Xoofoon eebbaa kan nu eebbifnu sun dhiiga Kiristoos wajjin tokkummaa
qaba mitii? Buddeenni nu caccabsinu sunis foon Kiristoos wajjin tokkummaa qaba
mitii? [17] Waan buddeenni tokko qofti jiruuf, nu baay'ee taanu iyyuu dhagnuma tokko;
hundi keenya buddeenuma tokkicha sana irraa hirmaannaatii.
[18] Mee saba Israa'el ilaalaa: Warri aarsaa irraa nyaatan sun iddoo aarsaa irraa
qooda qabu mitii? [19] Egaa maal jechuu koo ti? Nyaanni waaqota tolfamoof
aarsaa dhi'eeffamu wayi moo ree yookaan Waaqni tolfamaan wayi moo ree jechuu
kootii? [20] Akkas miti; aarsaan namoonni ormaa dhi'eessan hafuurota hamoodhaaf
malee Waaqaaf miti; ani akka isin hafuurota hamoo wajjin tokkummaa qabaattan
hin barbaadu. [21] Isin xoofoo Gooftaatii fi xoofoo hafuurota hamoo dhuguu hin
dandeessan; maaddii Gooftaatii fi maaddii hafuurota hamoo irrattis hirmaachuu hin
dandeessan. [22] Nu Gooftaa hinaaffaaf kakaafnaa? Nu isa caalaas jabaannaa?

*Bilisummaa Amantootaa*
[23] "Wanni hundinuu anaaf eeyyamamaa dha;" kan faayidaa qabu garuu waan
hunda miti. "Wanni hundinuu anaaf eeyyamamaa dha;" kan nama fayyadu garuu
waan hunda miti. [24] Namni tokko iyyuu waan warra kaaniif gaarii ta'e barbaaduu
qaba malee waan ofii isaatiif gaarii ta'e barbaaduu hin qabu.

* **10:7** 10:7 Bau 32:6

25 Utuu gaaffii qalbii keessaa tokko illee hin kaasin waan gabaa fooniitti gurguramu
kam iyyuu nyaadhaa; 26 “Laftii fi wanni lafa irra jiru hundinuu kan Gooftaatii.”†
27 Warra hin amanin keessaa yoo namni tokko nyaataaf isin affeere, isinis yoo
dhaquu barbaaddan dhaqaa; utuu gaaffii qalbii keessaa tokko illee hin kaasin waan
isin duratti dhi’eeffame kam iyyuu nyaadhaa. 28 Garuu yoo namni tokko, “Kun
waaqota tolfamoodhaaf dhi’eeffame” isiniin jedhe, sababii namicha isinitti hime
sanaatii fi sababii qalbiitiif waan sana hin nyaatinaa. 29 Kanas qalbii namicha sanaati
malee kan keeti jechuu koo miti. Maaliif qalbii nama biraatiin bilisummaa kootti
murama ree? 30 Ani ergan galateeffachuudhaan nyaata sana irratti hirmaadhee
maaliifan waan ittiin Waaqa galateeffadhuun balaaleffatama ree?
31 Kanaafuu yoo nyaattan yookaan yoo dhugdan yookaan yoo waanuma fedhe illee
hojjettan waan hunda ulfina Waaqaatiif hojjedhaa. 32 Yihuudoota yookaan Giriikota
yookaan waldaa kiristaanaa kan Waaqaa hin gufachiisinaa; 33 kunis akkuma ani
nama hunda karaa hundaan gammachiisuuf yaalii godhutti jechuu dha. Ani akka
isaan fayyaniif bu’aa namoota baay’eetiif malee bu’aa kootiif jedhee waan kana hin
godhu.

# 11

1 Akkuma ani Kiristoosin fakkaadhu, isinis na fakkaadhaa.

*Sirna Waaqeffannaa*

2 Ani sababii isin waan hundaan na yaadattanii fi waan duudhaa ani dabarsee
isinitti kennes jabeessitanii qabattaniif isinin galateeffadha. 3 Ani akka mataan dhiira
hundumaa Kiristoos ta’e, akka mataan dubartii dhiira ta’e, akka mataan Kiristoos
immoo Waaqa ta’e akka beektan nan barbaada. 4 Dhiirri mataa isaa haguuggatee
kadhatu yookaan raajii dubbatu hundinuu mataa ofii isaa salphisa. 5 Dubartiin utuu
mataa ishee hin haguuggatin kadhattu yookaan raajii dubbattu kam iyyuu mataa ofii
ishee salphifti; kun akka waan mataan ishee haaddameetti hedamaatii. 6 Dubartiin
tokko yoo mataa ishee haguuggachuu baatte rifeensa mataa ishee murachuu qabdi;
dubartiin rifeensa mataa ishee murachuun yookaan haaddachuun yoo qaanii itti ta’e
immoo mataa ishee haguuggachuu qabdi.
7 Dhiirri fakkaattii fi ulfina Waaqaa waan ta’eef mataa isaa haguuggachuu hin
qabu; dubartiin garuu ulfina dhiiraa ti. 8 Dubartiitu dhiira irraa argame malee dhiirri
dubartii irraa hin argamneetii; 9 dubartiitu dhiiraaf uumame malee dhiirri dubartiif
hin uumamne. 10 Kanaafuu dubartiin sababii ergamoota Waaqaatiif mallattoo
taayitaa mataa ishee irraa qabaachuu qabdi. 11 Ta’us Gooftaa biratti dubartiin dhiira
malee yookaan dhiirri dubartii malee hin ta’u. 12 Akkuma dubartiin dhiira irraa
argamte akkasuma immoo dhiirri dubartii irraa dhalataatii; wanni hundi garuu
Waaqa biraa argama.
13 Mee isinuu murteessaa; dubartiin utuu mataa ishee hin haguuggatin Waaqa
kadhachuun sirriidhaa? 14 Akka dhiirri rifeensa mataa dheereffachuun isaaf salphina
ta’e uumamni iyyuu isin hin barsiisuu? 15 Dubartiin garuu yoo rifeensa dheeraa
qabaatte, inni isheef ulfina mitii? Rifeensi dheeraan akka haguuggiitti isheef
kennameeraatii. 16 Garuu yoo abbaan fedhe iyyuu waa’ee kanaa mormuu barbaade,
nu yookaan waldaaleen kiristaanaa Waaqaa duudhaa akkasii hin qabnu.

*Irbaata Gooftaa*
*11:23-25 kwf – Mat 26:26-28; Mar 14:22-24; Luq 22:17-20*

17 Walitti qabamuun keessan waan waa balleessu malee waa tolchu hin ta’iniif
ani ajaja kana keessatti isin hin jaju. 18 Waan hunda dura, yommuu isin akka

† **10:26** 10:26 Far 24:1

waldaatti walitti qabamtanitti akka gargar ba'uun gidduu keessan jiru nan dhaga'a;
kanas karaa tokkoon ani nan amana. [19] Warra isin keessaa Waaqa biratti fudhatama
qaban ifatti baasuuf, garaa garummaan isin gidduu jiraachuu qaba. [20] Yommuu
walitti qabamtanitti wanti isin nyaattan Irbaata Gooftaa miti; [21] yeroo nyaataatti
namni hundinuu irbaata ofii isaa nyaata. Inni tokko ni beela'a; kaan immoo ni
machaa'a. [22] Isin mana itti nyaattanii fi itti dhugdan hin qabdan moo? Yookaan
waldaa Kiristaanaa Waaqaa tuffattanii warra homaa hin qabne qaanessitu? Ani
maalan isiniin jedha? Isin jajuu ree? Ani kanaan isin hin jaju!
[23] Ani waanan dabarsee isinitti kenne kana Gooftaa irraa fudhadheeraatii; Gooftaa
Yesuus halkan dabarfamee kenname sana buddeena fuudhee, [24] galata galche;
buddeena sanas caccabsee, "Kun foon koo kan isiniif ta'uu dha; kanas yaadannoo
kootiif godhadhaa" jedhe. [25] Akkasumas irbaata booddee xoofoo fuudhee, "Xoofoon
kun kakuu haaraa dhiiga kootiin ta'uu dha; yeroo isa dhugdan hunda na yaadachuuf
godhadhaa" jedhe. [26] Isinis hamma Gooftaan dhufutti yeroo buddeena kana
nyaattanii xoofoo kana dhugdan hunda du'a isaa ni labsitu.
[27] Kanaafuu namni haala hin malleen buddeena sana nyaatu yookaan xoofoo
Gooftaa dhugu kam iyyuu foonii fi dhiiga Gooftaatti ni gaafatama. [28] Namni tokko
utuu buddeena sana irraa hin nyaatin, utuu xoofoo sana irraas hin dhugin dura
of qoruu qaba. [29] Namni utuu foon Gooftaa addaan baasee hin hubatin nyaatee
dhugu, inni ofii isaatti murtii nyaatee dhugaatii. [30] Kanaafis isin keessaa hedduun
dadhabaniiru; dhukkubsataniirus; hedduunis boqotaniiru. [31] Utuu of qorree garuu
nutti hin muramu ture. [32] Gooftaan yommuu nutti muru garuu akka addunyaa wajjin
nutti hin muramneef nu adaba.
[33] Kanaafuu yaa obboloota ko, isin yommuu nyaachuuf walitti qabamtan wal eegaa.
[34] Akka walitti qabamuun keessan murtii isinitti hin fidneef eenyu iyyuu yoo beela'e
mana isaatti haa nyaatu!
Waan hafe irratti immoo ani yommuun dhufutti qajeelcha nan kenna.

# 12

*Waa'ee Kennaawwan Hafuuraa*

[1] Yaa obboloota ko, egaa ani akka isin waa'ee kennaawwan hafuuraa wallaaltan
hin barbaadu. [2] Isin yeroo ormoota turtanitti akka gowwoomfamtanii gara waaqota
tolfamoo dubbachuu hin dandeenyeetti geeffamtanii turtan ni beektu. [3] Kanaafuu
namni Hafuura Waaqaatiin dubbatu kam iyyuu akka, "Yesuus abaaramaa dha" hin
jenne, akka eenyu iyyuu yoo Hafuura Qulqulluudhaan ta'e malee, "Yesuus Gooftaa
dha" jechuu hin dandeenye ani isinittin hima.
[4] Kennaawwan gosa garaa garaatu jira; Hafuurri garuu tokkuma. [5] Tajaajila gosa
garaa garaatu jira; Gooftaan garuu tokkuma. [6] Hojii gosa garaa garaatu jira; waan
hundumaa garuu Waaqa tokkichatu nama hundumaan hojjeta.
[7] Mul'anni Hafuura Qulqulluu garuu faayidaa waliitiif tokkoo tokkoo namaatiif
kennama. [8] Isa tokkoof karaa Hafuuraatiin dubbii ogummaatu kennama; isa
kaaniif immoo Hafuuruma sanaan dubbii beekumsaatu kennama; [9] isa kaaniif
Hafuuruma sanaan amantiitu kennama; isa kaaniif immoo Hafuuruma tokkicha
sanaan kennaawwan warra dhukkubsatan fayyisuutu kennama; [10] isa tokkoof
dinqiiwwan hojjechuu, isa kaaniif raajii dubbachuu, isa kaaniif hafuurota addaan
baasee beekuu, isa kaaniifis afaan haaraa gosa adda addaa dubbachuu, isa kaaniif
immoo afaan haaraa sana hiikuutu kennama. [11] Waan kana hundas Hafuuruma
tokkicha sanatu akkuma fedhii ofii isaatti tokkoo tokkoo namaatiif dhuunfaatti
hiruudhaan hojjeta.

*Tokkummaa fi garaa garummaa Kutaa Dhagnaa*

12 Dhagni kutaa baay'ee qabaatu illee dhagnuma tokko; kutaawwan dhagnaa yoo
baay'atani illee hundi isaanii dhagnuma tokko ta'u. Kiristoosis akkasuma. 13 Nu
Yihuudoota yookaan Giriikota, garboota yookaan warra bilisooman taanus hundi
keenya Hafuura tokkoon dhagna tokkotti cuuphamneerraatii; hundi keenyas, akka
dhugnuuf Hafuurri tokkichi sun nuu kennameera. 14 Dhagni kutaa tokko qofa utuu
hin ta'in kutaawwan baay'eedhaatii.

15 Miilli yoo, "Ani waanan harka hin ta'iniif, ani kutaa dhagnaa mitii" jedhe, sababii
kanaaf kutaa dhagnaa ta'uun isaa hin hafu. 16 Gurris yoo, "Ani waanan ija hin ta'iniif,
ani kutaa dhagnaa miti" jedhe, sababii kanaaf kutaa dhagnaa ta'uun isaa hin hafu.
17 Utuu dhagni guutumaatti ija ta'ee jiraatee silaa dhaga'uun eessa jira? Utuu dhagni
guutumaatti gurra ta'ee jiraatee silaa fuunfachuun eessa jira? 18 Amma garuu Waaqni
akkuma ofii barbaadetti kutaawwan sana adduma addaan dhagna keessa kaa'eera.
19 Utuu hundi isaanii kutaa dhagnaa tokkicha ta'anii silaa dhagni eessa jira? 20 Egaa
kutaawwan dhagnaa baay'ee dha; dhagni garuu tokkuma.

21 Iji harkaan, "Ati na hin barbaachiftu!" jechuu hin danda'u; yookaan mataan
miillaan, "Ati na hin barbaachiftu!" jechuu hin danda'u. 22 Dhugumaanuu
kutaawwan dhagnaa kanneen dadhaboo fakkaatan akka malee barbaachisoo dha;
23 kutaawwan dhagnaa kanneen tuffatamoo nutti fakkaataniifis ulfina addaa ni
kennina. Kutaawwan dhagnaa kanneen nu itti qaanofnuuf immoo ulfinni addaa ni
kennama; 24 kutaawwan dhagna keenyaa kanneen nu itti hin qaanofne waan kana
hin barbaadan. Waaqni garuu kutaawwan dhagnaa walitti fayyisee kutaawwan nu
itti qaanofnuuf ulfina caalu kenne; 25 kunis akka kutaawwan haaluma tokkoon walii
yaadanii fi akka dhagna keessa gargar ba'uun hin jiraanneef. 26 Yoo kutaan dhagnaa
tokko rakkate kutaawwan hundinuu isa wajjin rakkatu; yoo kutaan tokko ulfina
argate kutaawwan hundi isa wajjin gammadu.

27 Isin amma dhagna Kiristoos; tokkoon tokkoon keessanis kutaa dhagna sanaa
ti. 28 Waaqni waldaa Kiristaanaa keessatti tokkoffaa ergamoota, lammaffaa raajota,
sadaffaa barsiistota, ergasiis warra hojii dinqii hojjetan, itti aansees warra kennaa
dhukkubsattoota fayyisuu qaban, warra namoota gargaaruu danda'an, warra kennaa
bulchiinsaa qabanii fi warra afaan haaraa gosa addaa addaa dubbatan filateera.
29 Hundumatu ergamootaa? Hundumatu raajotaa? Hundumatu barsiistotaa?
Hundinuu hojii dinqii hojjetuu? 30 Hundumatu kennaa dhukkubsattoota fayyisuu
qabaa? Hundumatu afaan haaraa dubbataa? Hundumatu afaan sana hiikaa? 31 Isin
garuu jabeessaatii kennaa caalu barbaadaa.

### *Jaalala*

Amma illee ani karaa karaa hundumaa caalu isinitti nan argisiisa.

## 13

1 Ani yoon afaan namootaatii fi afaan ergamoota Waaqaa dubbadhe, garuu jaalala
qabaachuu baannaan akkuma sibiila iyyuu yookaan akka kilillee qillisu tokkoo ti.
2 Ani yoon kennaa raajii dubbachuu qabaadhe, icciitii hundaa fi beekumsa hunda
hubachuu yoon danda'e, amantii gaara buqqisuu danda'us yoon qabaadhe, garuu
jaalala qabaachuu baannaan ani homaa miti. 3 Ani yoon waanan qabu hunda
hiyyeeyyiif kenne, dhagna koos akka gubamuuf yoon kenne, garuu jaalala qabaachuu
baannaan homaa na hin fayyadu.

4 Jaalalli obsa qaba; jaalalli arjaa dha. Inni hin hinaafu; hin kooru; ofis hin tuulu.
5 Jaalalli waan hin malle hin hojjetu; ofittoo miti; dafee hin aaru; hammina namatti
hin lakkaa'u. 6 Jaalalli dhugaatti gammada malee waan hamaatti hin gammadu.

7 Jaalalli waan hunda ni obsa; waan hunda ni amana; waan hunda abdata; waan
hunda keessattis jabaatee dhaabata.

8 Jaalalli gonkumaa hin badu. Raajii taanaan ni darba; afaan haaraa taanaan ni
hafa; beekumsas taanaan ni bada. 9 Nu beekumsa irraa gara tokko beeknaatii; raajiis
gara tokko dubbanna; 10 yommuu inni guutuun dhufutti garuu inni gartokkeen ni
bada. 11 Ani yeroon ijoollee turetti, akka ijoolleettin dubbadha ture; akka ijoolleettin
yaada ture; akka ijoolleetti nan herrega ture; ani ergan nama guddaa ta'ee garuu
ijoollummaa dhiiseera. 12 Amma of-ilaalee keessaan bifa dimimmisaa'aa arginaatii;
yeroo sana garuu ifaan ifatti ni argina. Ani amma gartokkon beeka; yeroo sana garuu
ani akkuma guutummaatti beekame sana guutummaatti beekuufin jira.

13 Egaa amantiin, abdii fi jaalalli sadan isaanii iyyuu ni jiraatu. Isaan keessaa garuu
jaalalatu caala.

# 14

*Qalbeeffannaa Yeroo Waaqeffannaa*

1 Karaa jaalalaa duukaa bu'aa; kennaawwan Hafuuraa, keessumattuu kennaa raajii
cimsaatii barbaadaa. 2 Namni afaan haaraan dubbatu kam iyyuu Waaqatti malee
namootatti hin dubbatuutii. Dhugumaan namni tokko iyyuu isa hin hubatu; inni
Hafuuraan icciitii dubbata. 3 Namni raajii dubbatu garuu isaan ijaaruuf, gorsuu fi
jajjabeessuuf jedhee namootatti dubbata. 4 Namni afaan haaraan dubbatu ofuma
isaa cimsa; kan raajii dubbatu garuu waldaa kiristaanaa cimsa. 5 Ani akka hundi
keessan afaan haaraan dubbattan nan barbaada; caalaatti garuu akka raajii dubbatan
nan jaalladha. Namni afaan haaraan dubbatu tokko akka waldaan kiristaanaa ittiin
jajjabaattuuf jedhee waan dubbatu sana yoo hiikuu baate isa afaan haaraan dubbatu
irra isa raajii dubbatutu caala.

6 Egaa yaa obboloota, ani yoon mul'ata yookaan beekumsa yookaan raajii yookaan
barsiisa tokko tokko isinitti hime malee yoon afaan haaraa qofa dubbachaa gara
keessan dhufe maal isin fayyada? 7 Kunis meeshaa lubbuu hin qabne kan akka
ululleetii fi kiraaraa kanneen sagalee kennan biratti illee akkanuma; ululleen
afuufamee yookaan kiraarri rukutamee yoo sagaleen isaa gargar baafame malee
namni tokko akkamitti addaan baasee beekuu danda'a? 8 Yoo sagaleen malakataa
addaan baafamee beekame malees eenyutu lolaaf qophaa'a? 9 Isinis akkasuma.
Yoo afaan keessaniin dubbii hubatamaa dubbattan malee namni tokko akkamitti
waan isin jettan sana beekuu danda'a? Qilleensatti dubbachuu keessaniitii. 10 Akka
afaan gosa garaa garaa addunyaa irra jiran hin shakkamu. Garuu isaan keessaa
kan hiikkaa hin qabne tokko iyyuu hin jiru. 11 Kanaafuu ani yoon hiikkaa waan
namni tokko dubbatuu hubachuu baadhe ani namicha dubbatu sanatti alagaa dha.
Namichi dubbatu sunis anatti alagaa dha. 12 Isinis akkasuma. Isin waan jabeessitanii
kennaawwan Hafuuraa qabaachuu barbaaddaniif, kennaawwan waldaa kiristaanaa
cimsan jabeessaatii barbaadaa.

13 Kanaaf namni afaan haaraan dubbatu tokko akka waan dubbatu sana hiikuu
danda'uuf kadhachuu qaba. 14 Yoo ani afaan haaraan kadhadhe hafuurri koo
ni kadhataatii; qalbiin koo garuu hin hirmaatu. 15 Yoos ani maalan godha ree?
Hafuura kootiin nan kadhadha; qalbii kootiinis nan kadhadha; hafuura kootiin nan
faarfadha; qalbii kootiinis nan faarfadha. 16 Yoo kanaa achii utuu ati hafuura keetiin
Waaqa galateeffachuutti jirtuu, namni iddoo warra hin baratinii taa'e tokko waan ati
dubbattu waan hin beekiniif akkamitti galata ati dhi'eessitu sanaaf "Ameen" jechuu
danda'aa? 17 Ati dhugumaan sirriitti galateeffata ta'a; namni kaan garuu ittiin hin
jajjabeeffamu.

18 Ani waanan hunduma keessan caalaa afaan haaraan dubbadhuuf Waaqa nan
galateeffadha. 19 Waldaa kiristaanaa keessatti garuu dubbii kuma kudhan afaan
haaraan dubbachuu irra warra kaan barsiisuuf dubbii hubatamaa shan dubbachuu
nan barbaada.
20 Yaa obboloota, akka ijoolleetti yaaduu dhiisaa; waan hamaaf daa'imman ta'aa;
hubannaadhaan garuu nama guddaa ta'aa. 21 Seera keessatti akkana jedhamee
barreeffameera:

"Ani afaan biraatiin,
afaan alagootaatiinis
saba kanatti nan dubbadha;
isaan garuu yeroo sanatti illee na hin dhaga'an,
jedha Gooftaan."*

22 Kanaafuu afaan haaraan dubbachuun warra hin amaniniif mallattoo ta'a malee
warra amananiif miti; raajii dubbachuun garuu warra amananiif malee warra hin
amaniniif miti. 23 Egaa waldaan amantootaa guutuun walitti qabamee yoo hundi
isaanii afaan haaraan dubbatan, yoo namoonni hin baratin yookaan namoonni hin
amanne ol seenan isin maraattaniirtu isiniin hin jedhanii? 24 Utuu namni hundi raajii
dubbachaa jiruu yoo namni hin amanne tokko yookaan namni hin baratin tokko ol
seene inni akka cubbamaa ta'e nama hundaan ni amansiifama; nama hundaanis
isatti murama; 25 icciitiin garaa isaa keessaas ifatti ni baafama. Innis, "Waaqni
dhugumaan isin gidduu jira" jedhee dubbachaa addaan lafatti gombifamee Waaqa
waaqeffata.

### *Sirna Gaarii Yeroo Waaqeffannaa*

26 Yaa obboloota, egaa maal jenna ree? Yommuu isin walitti qabamtanitti namni
hundi faarfannaa yookaan barsiisa yookaan mul'ata yookaan afaan haaraa yookaan
hiikkaa afaan haaraa sanaa qaba. Wanni hundinuu waldaa kiristaanaa cimsuuf
hojjetamuu qabu. 27 Namni afaan haaraan dubbatu yoo jiraate lama yookaan yoo
baay'ate sadii ta'anii dabaree dabareen haa dubbatan; namni tokko immoo haa hiiku.
28 Yoo namni hiiku jiraachuu baate garuu namichi dubbatu sun waldaa kiristaanaa
keessatti cal'isee ofii isaattii fi Waaqatti haa dubbatu.
29 Raajonnis lama yookaan sadii ta'anii haa dubbatan; warri kaan immoo waan
dubbatamu sana haa madaalan. 30 Yoo warra achi taa'an keessaa isa tokkoof mul'anni
dhufe, namichi duraan dubbachaa ture sun haa cal'isu. 31 Namni hundi akka
baratuuf, hundinuus akka jajjabeeffamuuf dabaree dabareedhaan raajii dubbachuu
ni dandeessuutii. 32 Hafuuronni raajotaa raajotaaf ni ajajamu. 33 Waaqni akka
waldoota qulqullootaa hundumaa keessatti ta'aa jiru kana Waaqa jeequmsaa utuu
hin ta'in Waaqa nagaa ti.
34 Dubartoonni waldaa kiristaanaa keessatti haa cal'isan. Akka seerri jedhutti isaan
akka ajajaman malee akka dubbatan hin eeyyamamneefiitii. 35 Wanti isaan beekuu
barbaadan yoo jiraate manatti dhirsa isaanii haa gaafatan; dubartiin tokko waldaa
kiristaanaa keessatti dubbachuun qaaniidhaatii.
36 Dubbiin Waaqaa isin keessaa argamee? Yookaan isinuma qofa bira ga'ee?
37 Eenyu iyyuu yoo raajii yookaan nama Hafuuraa of se'e akka wanni ani amma
isiniif barreessu kun ajaja Gooftaa ta'e haa beeku. 38 Namni kam iyyuu yoo waan
kana beekuu baate, inni hin beekin.
39 Kanaaf yaa obboloota ko, raajii dubbachuu jabeessaatii hawwaa; afaan haaraan
dubbachuus hin dhowwinaa. 40 Wanti hundinuu garuu karaa qajeelaa fi sirna
qabeessa ta'een hojjetamuu qaba.

* **14:21** 14:21 Isa 28:11,12

# 15

*Du'aa Ka'uu Kiristoos*

1 Ammas yaa obboloota, ani waa'ee wangeela ani isinitti lallabe, kan isin
fudhattanii ittiin dhaabatan sanaa isin yaadachiisuu nan barbaada. 2 Isin yoo dubbii
ani isinitti lallabe sana jabeessitanii qabattan wangeeluma kanaan ni fayyitu. Yoo
kanaa achii akkasumaan amantan jechuu dha.
3 Anis waanan fudhadhe duraan dursee dabarseen isinitti kenneeraatii; akka
Katabbiiwwan Qulqulluun dubbatanitti, Kiristoos cubbuu keenyaaf jedhee du'e; 4 ni
awwaalames; akka Katabbiiwwan Qulqulluun dubbatanitti guyyaa sadaffaatti du'aa
kaafame. 5 Inni duraan dursee Keefaatti, ergasiis warra Kudha Lamaanitti mul'ate.
6 Sana booddee yeroo tokkotti obboloota dhibba shanii ol ta'anitti mul'ate; isaan
keessaas yoo muraasni boqotan iyyuu hedduun isaanii hamma ammaatti ni jiru.
7 Ergasiis Yaaqoobitti, itti aansee ergamoota hundatti mul'ate; 8 dhuma irratti immoo
ana kan akka gatataatti dhalateetti lakkaa'amutti mul'ate.
9 Ani ergamoota hundaa gadi; ergamaa jedhamee waamamuun iyyuu naaf hin
malu; ani waldaa kiristaanaa Waaqaa ari'achaan tureetii. 10 Garuu ani ayyaana
Waaqaatiin akkuman jiru kana jira; ayyaanni isaa kan naa kennames akkasumaan
hin hafne. Ani hunduma isaanii caalaa jabaadhee hojjedheera; kanas utuu ana hin
ta'in ayyaana Waaqaa kan na wajjin jirutu hojjete. 11 Egaa anas ta'u yookaan isaan,
wanni nu lallabnu, wanni isin amantanis kanuma.

*Du'aa Ka'uu Warra Du'anii*

12 Kiristoos warra du'an keessaa akka kaafame erga lallabamee, isin keessaa
namoonni tokko tokko akkamitti du'aa ka'uun warra du'anii hin jiru jechuu danda'u
ree? 13 Erga du'aa ka'uun warra du'anii hin jirre, Kiristoos iyyuu du'aa hin kaafamne
jechuudha kaa! 14 Erga Kiristoos du'aa hin kaafamin immoo lallabni keenya faayidaa
hin qabu; amantiin keessanis faayidaa hin qabu. 15 Kana malees Waaqni Kiristoosin
du'aa kaaseera jennee waa'ee Waaqaa waan dhugaa baaneef, nu waa'ee Waaqaa
dhuga baatota sobaa taanee argamneerra. Garuu erga warri du'an hin kaafamin
inni Kiristoosin hin kaafne jechuu dha. 16 Yoo warri du'an kaafamuu baatan,
Kiristoosis du'aa hin kaafamneetii. 17 Erga Kiristoos du'aa hin kaafamin amantiin
keessan faayidaa hin qabu; isinis ammuma iyyuu cubbuu keessa jirtu. 18 Yoos warri
utuu Kiristoositti jiranuu boqotan baduu isaanii ti. 19 Yoo jireenya ammaa qofaaf
Kiristoosin abdanne nu warra namni hundi na'uuf ta'uu keenya.
20 Amma garuu Kiristoos warra boqotaniif hangafa ta'ee dhugumaan warra du'an
keessaa kaafameera. 21 Akkuma duuti karaa nama tokkootiin dhufe, akkasuma
immoo du'aa ka'uun warra du'anii karaa nama tokkootiin dhufeetii. 22 Akkuma
hundinuu Addaamiin du'an, hundinuu Kiristoosiin jiraatoo ni taasifamuutii. 23 Kun
hundinuus yeroo dabaree isaatti ni ta'a; Kiristoos hangafticha, ergasii immoo yeroo
inni deebi'ee dhufutti warra kan Kiristoos ta'an. 24 Innis erga bulchiinsa hunda,
taayitaa fi humna hunda balleessee booddee, yeroo Waaqa Abbaatti mootummaa
dabarsee kennutti dhumni ni ta'a. 25 Inni hamma diinota isaa hunda miilla isaa
jala galfatutti mo'uu qabaatii. 26 Diinni dhumaa kan barbadeeffamuu qabu du'a.
27 Inni, "Waan hunda miilla isaa jala galcheeraatii."* Garuu "Wanni hundi" isa jala
galfameera jechuun akka isa waan hunda isa jala galche sana hin dabalatin beekamaa
dha. 28 Erga waan kana godhee booddee akka Waaqni waan hundumaan hundumaa
ta'uuf Ilmi mataan isaa iyyuu isa waan hundumaa miilla isaa jala galche sanaaf ni
bula.
29 Yoo du'aa ka'uun jiraachuu baate namoonni warra du'aniif jedhanii cuuphaman
maal gochuu isaanii ti? Warri du'anis yoo du'aa hin kaafamin namoonni maaliif

* **15:27** 15:27 Far 8:6

qooda isaanii cuuphamu ree? 30 Nu maaliif sa'aatii hunda balaaf of saaxilla? 31 Yaa
obboloota, ani guyyuma guyyaan akkan du'u of jajuu karaa Gooftaa keenya Kiristoos
Yesuusiin isin irratti qabuun nan kakadha. 32 Ani akka namaatti Efesoonitti bineensa
wajjin wal loluun koo, erga warri du'an hin kaafamnee, maal na fayyada?

"Kottaa ni nyaannaa; ni dhugnas;
bor ni duunaatii."†

33 Hin gowwoomfaminaa: "Hiriyaan hamaan amala gaarii balleessa." 34 Gara qalbii
keessan isa qajeelaatti deebi'aa; cubbuu hojjechuus dhiisaa; namoonni Waaqa hin
beekne tokko tokko isin gidduu jiruutii. Anis isin qaanessuufin waan kana dubbadha.

### *Dhagna Du'aa Ka'uu*

35 Garuu namni tokko, "Warri du'an akkamitti kaafamu? Dhagna akkamiitiin
dhufu?" jedhee ni gaafata ta'a. 36 Yaa gowwaa! Wanni ati facaaftu yoo du'e
malee jireenya hin argatu. 37 Wanni ati facaaftu sanyiidhuma, jechuunis sanyii
qamadii yookaan sanyii midhaan biraati malee dhagna midhaan biqilee guddachuuf
jiru sanaa miti. 38 Waaqni garuu akkuma fedhetti dhagna isaaf kenna; tokkoo
tokkoo gosa sanyiitiifis dhagna mataa isaa kenna. 39 Foon hundinuu tokko miti;
namni foon gosa tokkoo qaba; horiin foon gosa biraa, simbirroon foon gosa biraa,
qurxummiinis foon gosa biraa qabu. 40 Akkasuma immoo dhagnawwan samii irraa
ni jiru; dhagnawwan lafa irraas ni jiru; garuu ulfinni dhagnawwan samii irraa gosa
tokko; ulfinni dhagnawwan lafa irraa immoo gosa biraa ti. 41 Aduun ulfina gosa
tokkoo qabdi; ji'is ulfina gosa biraa, urjiiwwanis ulfina gosa biraa qabu; urjiin tokko
ulfinaan urjii biraatiin addaatii.

42 Du'aa ka'uun warra du'aniis akkasuma. Dhagni facaafamu kan baduu dha; kan
hin badne ta'ee immoo kaafama. 43 Inni salphinaan facaafama; ulfinaan kaafama;
dadhabbiin facaafama; humnaan kaafama; 44 dhagna fooniitu facaafama; dhagna
hafuuraatu kaafama.

Erga dhagni foonii jiraate, dhagni hafuuraas ni jira. 45 Kanaaf, "Addaam namichi
jalqabaa lubbuu jiraataa ta'e"‡ jedhamee barreeffameera; Addaam inni dhumaa
immoo hafuura jireenya kennu ta'e. 46 Inni jalqabatti dhufe garuu isa hafuuraa utuu
hin ta'in isa foonii ti; inni hafuuraa immoo ergasii dhufe. 47 Namichi duraa lafa irraa
dhufe; inni kan lafaa ti; namichi lammaffaan immoo samii irraa dhufe. 48 Warri kan
lafaa ta'an akkuma namicha lafa irraa sanaa ti; warri kan samii ta'an immoo akkuma
namicha samii irraa dhufe sanaa ti. 49 Nu akkuma bifa namicha lafaa sanaa uffanne,
akkasuma immoo bifa namicha samii sanaa ni uffanna.

50 Yaa obboloota, akka foonii fi dhiigni mootummaa Waaqaa dhaaluu hin dan-
deenye yookaan akka inni badu isa hin badne dhaaluu hin dandeenye ani isinitti nan
hima. 51 Kunoo, ani icciitii tokko isinittin hima: Hundi keenya hin duunu; nu hundi
garuu ni geeddaramna; 52 kunis yeroo malakanni dhumaa afuufamu yeruma sanatti
hamma liphsuu ijaatti raawwatama. Malakanni ni afuufamaatii; warri du'anis
kanneen hin badne ta'anii ni kaafamu; nus ni geeddaramna. 53 Inni badu kun isa hin
badne, inni du'u kun immoo isa hin duune uffachuu qabaatii. 54 Yeroo inni badu isa
hin badne uffatee, inni du'u immoo isa hin duune uffatutti dubbiin akkana jedhamee
barreeffame sun ni raawwatama; "Duuti mo'ichaan liqimfameera."§ Akkasumas,

55 "Yaa du'a, mo'ichi kee meerre?
Yaa du'a, ilkeen kee meerre?"*

56 Ilkeen du'aa cubbuu dha; humni cubbuu immoo seera. 57 Waaqa karaa Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosiin mo'icha nuu kennuuf garuu galanni haa ta'u!

† 15:32 15:32 Isa 22:13 ‡ 15:45 15:45 Uma 2:7 § 15:54 15:54 Far 25:8 * 15:55 15:55 Hos 13:14

58 Kanaafuu yaa obboloota koo jaallatamoo, jabaadhaa dhaabadhaa. Wanni tokko
isin hin sochoosin; akka dadhabbiin keessan Gooftaa biratti faayidaa malee hin hafne
waan beektaniif yeroo hunda hojii Gooftaatiif guutummaatti of kennaa.

# 16

*Buusii Qulqullootaaf Walitti Qabame*

1 Egaa waa'ee buusii qulqullootaaf walitti qabamuu, isinis akkuma ani waldoota
kiristaanaa kanneen Galaatiyaa ajaje sanatti raawwadhaa. 2 Akka buusii walitti
qabuun yeroo ani dhufutti hin taaneef tokkoon tokkoon keessan akkuma galii
keessaniitti torbanuma torbaniin guyyaa jalqabaa waa kophaatti baasaatii kaa'aa.
3 Anis yeroon isin bira dhufutti akka namoonni isin filattan kennaa keessan geessaniif
xalayaa ittiin beekaman kenneefii Yerusaalemitti isaan nan erga. 4 Yoo dhaquun koo
barbaachisaa ta'e immoo isaan na wajjin dhaqu.

*Karoora Karaa Phaawulos*

5 Ani waanan Maqedooniyaa keessa darbuuf, yeroon Maqedooniyaa keessa darbutti
isin bira nan dhufa. 6 Akka isin iddoo ani dhaqu hundatti karaa koo irratti na
gargaaruu dandeessaniif tarii yeroo xinnoo isin bira nan tura ta'a; yookaan ganna
isin bira nan tura ta'a. 7 Yoo Gooftaan jedhe ani waanan yeroo muraasa isin bira
turuu abdadhuuf, amma utuun darbuu goree isin arguu hin barbaadu. 8 Hamma
guyyaa Pheenxeqoosxeetti garuu Efesoon keessa nan tura. 9 Balballi guddaanii fi
bu'aa qabeessi tokko naa banameeraatii; mormitoonnis baay'ee dha.
10 Yoo Xiimotewos gara keessan dhufe waan innis akkuma koo hojii Gooftaa
hojjetuuf yeroo inni isin bira turutti akka inni waa tokko iyyuu hin sodaanne godhaa.
11 Kanaaf namni tokko iyyuu isa hin tuffatin; akka inni gara kootti deebi'uufis
nagaadhaan ergaa; ani obboloota wajjin isa eegaan jiraatii.
12 Waa'ee obboleessa keenya Apholoos immoo akka inni obboloota kaan wajjin
gara keessan dhufuuf ani jabeessee isa kadhadheen ture. Inni garuu amma dhufuuf
gonkumaa fedhii hin qabu; yeroo isaaf mijaa'utti garuu ni dhufa.
13 Dammaqaa; amantiitti cimaatii dhaabadhaa; jajjabaadhaa; cimaas. 14 Wanni isin
hojjettan hundinuu jaalalaan haa ta'u.
15 Yaa obboloota, akka warri mana Isxiifaanaas jiraatan Akaayyaa keessaa warra
jalqabatti amanan ta'an isin ni beektu; isaanis qulqulloota tajaajiluuf of kennaniiru.
16 Anis akka isin namoota akkasiitiif, warra isaan wajjin hojjetanii fi dadhaban
hundaaf ajajamtan isinin kadhadha. 17 Isxiifaanaas, Fartunaaxoosii fi Akaayiqos na
bira dhufuu isaaniitti ani gammadeera; isaan waan asii dhabamuu keessaniin hir'ate
guutaniiruutii. 18 Isaan hafuura koo fi hafuura keessan boqochiisaniiruutii. Kanaaf
isin namoota akkanaatiif beekamtii kennaa.

*Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

19 Waldoonni kiristaanaa kanneen biyya Asiyaa nagaa isiniif dhaamu.

Aqiilaa fi Phirisqillaan, waldaan kiristaanaa kan mana isaanii jirtus Gooftaadhaan
nagaa guddaa isiniif dhaamu.

20 Obboloonni hundinuu nagaa isinii dhaamu.

Dhungoo qulqulluudhaan nagaa wal gaafadhaa.

21 Ani Phaawulos, xalayaa nagaa kana harkuma kootiin barreessa.

22 Namni Gooftaa hin jaallanne kam iyyuu haa abaaramu. Yaa Gooftaa kottu.

23 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus isin wajjin haa ta'u.

24 Jaalalli koo Kiristoos Yesuusiin hunduma keessan wajjin haa ta'u. Ameen.

# Qorontos
## Lammaffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos isa fedhii Waaqaatiin ergamaa Kiristoos Yesuus ta'ee fi obboleessa
keenya Xiimotewos irraa,

Gara waldaa kiristaanaa Waaqaa ishee Qorontos jirtuutii fi qulqulloota Akaayyaa guutuu keessa jiraatan hundumaatti:

2 Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nagaan isiniif haa ta'u.

*Waaqa Nama Jajjabeessuuf Galata Galchuu*

3 Waaqnii fi Abbaan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos, Abbaan araaraatii fi Waaqni
jajjabina hundaa haa eebbifamu; 4 inni akka nu jajjabina Waaqa biraa arganne
sanaan warra dhiphina adda addaa keessa jiran jajjabeessuu dandeenyuuf dhiphina
keenya hunda keessatti nu jajjabeessa. 5 Akkuma nu dhiphina Kiristoos keessatti
baay'ee hirmaannu, akkasuma immoo karaa Kiristoosiin jajjabinni nuu baay'ata.
6 Nu yoo dhiphanne jajjabinaa fi fayyina keessaniif ta'a; nu yoo jajjabaanne jajjabina
keessaniif ta'a; jajjabinni kunis kan isin yeroo dhiphina nu dhiphannu kana keessa
dabartanitti obsaan dhaabachuudhaan argattanii dha. 7 Abdiin nu waa'ee keessaniif
qabnu cimaa dha; isin akkuma dhiphina keenya keessatti hirmaattan amma immoo
jajjabina keenya keessatti akka hirmaattan beeknaatii.
8 Yaa obboloota, isin waa'ee dhiphina biyya Asiyaatti nurra ga'ee akka wallaaltan
hin barbaannu. Hamma lubbuudhaan jiraachuuf illee abdii kutannutti dhiphinni
baachuudhaaf humna keenyaa ol ta'e nurra ga'ee tureetii. 9 Dhugumaanuu murtiin
du'aa nutti dhaga'amee turre. Kun garuu akka nu Waaqa warra du'an kaasutti malee
ofii keenyatti hin amananneef ta'e. 10 Inni balaa du'a akkasii jalaa nu baaseera;
nu baasas. Inni ittuma fufee akka nu baasu abdii keenya isa irra kaa'anneerra.
11 Akkuma isin kadhannaa keessaniin nu gargaartan, ayyaana kadhannaa namoota
baay'eetiif deebii ta'ee nuu kenname sanaaf namoonni baay'een nuuf galateeffatu.

*Phaawulos Karoora Geeddarate*

12 Egaa wanti nu ittiin of jajnu kanaa dha: Akka nu qulqullummaa fi amana-
mummaa Waaqa biraa argameen fooniin keessumattuu hariiroo isin wajjin qabnuun
jiraachaa turre yaadni garaa keenyaa dhugaa nuuf ba'a. Kanas akka ayyaana
Waaqaatti goone malee akka ogummaa addunyaatti miti. 13 Nu waan isin dubbisuu
yookaan hubachuu hin dandeenye tokko illee isinii hin barreessinuutii. Ani akka
isin hamma dhumaatti hubattan nan abdadha; 14 innis akkuma isin gara tokko nu
hubattan kana, akka guyyaa Gooftaa Yesuusitti akkuma nu isiniin of jajnu sana isinis
nuun of jajuu dandeessan guutummaatti hubattanii dha.
15 Anis sababiin waan kana amaneef akka isin ayyaana lammaffaa qabaattaniif
jedhee jalqabatti gara keessan dhufuu barbaade. 16 Ani yeroon Maqedooniyaa
dhaqutti isin ilaaluu fi yeroon Maqedooniyaadhaa deebi'uttis gara keessan dhufee,
akka isin yeroo ani Yihuudaa dhaqutti na ergitan barbaade. 17 Ani yeroon waan kana
karoorfadhetti akka salphaattin hojjedhee? Yookaan akka yaada fooniitti yeruma
tokkotti, "Eeyyee, eeyyee" fi "Waawuu, waawuu" jechuufan karoora baafadhaa ree?

18 Akkuma Waaqni amanamaa ta'e dubbiin nu isinitti dubbannus "Eeyyee" fi
"Waawuu" miti. 19 Yesuus Kiristoos Ilmi Waaqaa inni nu jechuunis ani, Silwaanosii fi
Xiimotewos isin gidduutti lallabne sun, "Eeyyee" fi "Waawuu" hin turreetii; isa keessa
"Eeyyeetu" jira. 20 Waadaawwan Waaqaa hundinuu Kiristoosiin "Eeyyeedhaatii".
Kanaafuu nu karaa isaatiin ulfina Waaqaatiif "Ameen" jenna. 21 Egaa kan akka nu
isin wajjin Kiristoositti jabaannee dhaabannu godhuu fi kan nu dibe Waaqa; 22 innis
chaappaa nutti chaappessee, qabdii Hafuura Qulqulluu garaa keenya keessa kaa'e.
23 Ani garuu isin qusachuudhaaf jecha Qorontositti hin deebine; anis akka inni
dhugaa natti ba'uuf Waaqa ofitti nan waama. 24 Nu gammachuu keessaniif isin
wajjin hojjenna malee amantii keessan irratti gooftummaa hin qabnu; isin amantiin
jabaattanii dhaabattaniitii.

# 2

1 Ani akkan lammata gaddaan gara keessan hin dhufne murteeffadheera. 2 Yoo ani
isin gaddisiise, isinuma warra ani gaddisiisu sana malee eenyutu na gammachiisa
ree? 3 Akkasitti barreessuun koo akka yommuu ani dhufutti namoonni na
gammachiisuu qaban na hin gaddisiisneefi. Akka gammachuun koo gammachuu
hunda keessanii ta'e ani hunda keessan nan amana ture. 4 Ani dhiphina guddaa,
yaaddoo garaatii fi imimmaan baay'eedhaan isinii barreesseetii; kunis jaalalli ani
isiniif qabu hammam guddaa akka ta'e akka beektaniif malee isin gaddisiisuuf miti.

### *Cubbamaaf Dhiifama Gochuu*

5 Eenyu iyyuu yoo nama gaddisiise utuu dubbii ho'isuuf hin ta'in inni karaa tokko
hunduma keessan gaddisiisuu isaati malee na gaddisiisuu isaa miti. 6 Nama akkanaa
irratti adabbiin harki caalaan keessan adabdan ni ga'a. 7 Qooda kanaa akka inni
gadda guddaan hin liqimfamneef dhiifama isaaf gochuu fi isa jajjabeessuutu isin
irra jira. 8 Kanaafuu ani akka isin jaalala isaaf qabdan cimsitan isinan kadhadha.
9 Anis akka isin waan hunda irratti ajajamtoota taatan mirkaneeffachuufin waan
kana isinii barreesse. 10 Nama isin dhiifama gootaniif, anis dhiifama nan godha. Yoo
wanti ani dhiifama godhe tokko iyyuu jiraates ani isiniif jedhee fuula Kiristoos duratti
dhiifama godheera; 11 kunis akka Seexanni nu hin gowwoomsineefi. Nu mala isaa
hin wallaalluutii.

### *Tajaajiltoota Kakuu Haaraa*

12 Yeroo ani wangeela Kiristoos lallabuuf Xiroo'aas dhaqee Gooftaan balbala naa
banetti, 13 waan ani obboleessa koo Tiitoo hin argatiniif, hafuurri koo boqonnaa hin
arganne. Kanaafuu ani nagaatti isaaniin jedhee Maqedooniyaatti darbe.
14 Waaqa yeroo hunda akka nu Kiristoosiin mo'annoo qabaannu nu taasisee urgaa
beekumsa isaa karaa keenyaan iddoo hundatti facaasuuf galanni haa ta'u. 15 Nu
warra fayyifamaa jiranii fi warra baduutti jiran gidduutti Waaqaaf urgaa Kiristoos.
16 Nu isa tokkoof urgaa du'aa ti; isa kaaniif immoo urgaa jireenyaa ti. Egaa eenyutu
waan kanaaf ga'aa ta'a? 17 Nu garuu akka namoota Waaqa biraa ergamaniitti
Kiristoosiin fuula Waaqaa duratti garaa qulqulluudhaan dubbanna malee akka
namoota hedduu kanneen bu'aa argachuuf jedhanii dubbii Waaqaa gurguratan sanaa
miti.

# 3

### *Amantoonni Qorontos Xalayaa Kiristoos Ta'uu Isaanii*

1 Nu ammas of galateeffachuu jalqabnaa ree? Yookaan akka namoota tokko
tokkoo xalayaa deeggarsaa gara keessanitti fiduu yookaan isin biraa argachuu nu
barbaachisaa ree? 2 Xalayaan keenya kan namni hundinuu beekuu fi dubbisu kan

garaa keenya keessatti barreeffame isinuma. 3 Isin akka xalayaa Kiristoos, bu'aa
tajaajila keenyaa taatan ifa; xalayaan kunis qalamiidhaan utuu hin ta'in Hafuura
Waaqa jiraataatiin, gabatee dhagaa irratti utuu hin ta'in gabatee garaa namaa irratti
kan barreeffamee dha.
4 Amantiin nu karaa Kiristoosiin fuula Waaqaa duratti qabnus kan akkanaa ti. 5 Nu
waan tokko illee ofii keenyaan hojjechuuf dandeettii qabna jennee miti; dandeettiin
keenya garuu Waaqa irraa dhufa. 6 Innis akka nu tajaajiltoota kakuu haaraa taanuuf
dandeettii nuu kenneera; kakuun kunis kan qubee utuu hin ta'in kan Hafuuraa ti;
qubeen ni ajjeesa; Hafuurri garuu jireenya kenna.

### *Ulfina Kakuu Haaraa*

7 Erga tajaajilli du'a fide kan qubeedhaan dhagaa irratti qirixame sun hamma
Israa'eloonni sababii ulfina isaa kan irraa badaa deemu sanaatiif xiyyeeffatanii
fuula Musee ilaaluu hin dandeenyetti ulfinaan dhufee, 8 tajaajilli Hafuuraa immoo
hammam caalaa ulfina haa qabaatuu ree? 9 Erga tajaajilli murtii namatti fidu ulfina
qabaatee, tajaajilli qajeelummaa fidu immoo hammam caalaa ulfina haa qabaatu ree!
10 Wanni ulfina qabeessa ture sun yommuu ulfina caalu biratti ilaalamu amma ulfina
hin qabuutii. 11 Erga wanni yeroodhaaf jiraatu sun ulfinaan dhufee, ulfinni isa bara
baraan jiraatuu immoo hammam caalaa guddaa haa ta'u ree!

### *Fuula Hin Haguuggaminiin Ulfina Waaqaa Arguu*

12 Kanaafuu nu abdii akkasii waan qabnuuf baay'ee ija jabaanna. 13 Nu warra akka
Musee isa akka sabni Israa'el dhuma waan badaa deemu sanaa hin argineef jedhee
haguuggiidhaan fuula isaa haguuggatee miti. 14 Yaadni isaanii garuu hadoodeera;
isaan hamma har'aatti iyyuu yommuu kakuu moofaa dubbisanitti haguuggiin sun
isaan irraa hin fuudhamne. Inni Kiristoos qofaan irraa fuudhamaatii. 15 Hamma
har'aatti illee yeroo isaan seera Musee dubbisanitti haguuggiin yaada garaa isaanii
ni haguuga. 16 Yeroo namni kam iyyuu gara Gooftaatti deebi'utti garuu haguuggiin
sun irraa fuudhama. 17 Gooftaan Hafuura. Iddoo Hafuurri Gooftaa jiru immoo
bilisummaatu jira. 18 Nu warri utuu fuulli keenya hin haguugamin ulfina Gooftaa
calaqqisnu hundi ulfina ittuma caalee guddachaa deemu kan Gooftaa Hafuura ta'e
irraa dhufuun gara bifa isaatti geeddaramaa jirra.

## 4

### *Dadhabbii Ammaatii fi Jireenya Du'aa Ka'uu*

1 Kanaafuu nu araara Waaqaatiin tajaajila kana waan qabnuuf abdii hin kutannu.
2 Nu waan dhoksaa ta'ee fi waan nama qaanessu dhiifneerra; namas hin gowwoom-
sinu; dubbii Waaqaas hin micciirru. Garuu dhugaa ifatti baafnee dubbachuudhaan
fuula Waaqaa duratti qalbii nama hundumaatti of dhi'eessina. 3 Wangeelli keenya
yoo haguugame illee warra baduutti jiran jalaa haguugama; 4 Waaqni addunyaa
kanaa akka namoonni hin amanin ifa wangeela ulfina Kiristoos isa fakkaattii Waaqaa
ta'e sanaa arguu hin dandeenyeef qalbii isaanii jaamseera. 5 Nu akka Yesuus Kiristoos
Gooftaa ta'e lallabna malee of hin lallabnu; nu mataan keenya Yesuusiif jennee
tajaajiltoota keessan. 6 Waaqni, "Dukkana keessaa ifni haa ifu"* jedhe sun akka
fuula Kiristoos irraa ifa beekumsa ulfina Waaqaa nuu kennuuf ifa isaa garaa keenya
keessatti ibseeraatii.
7 Garuu akka humni waan hunda caalu kun Waaqa irraa malee nu biraa hin
dhufin argisiisuuf nu badhaadhummaa kana qodaa suphee keessaa qabna. 8 Nu
karaa hundaan ni dhiibamna; garuu hin caccabnu; ni burjaajofna; garuu abdii hin
kutannu; 9 ni ari'atamna, garuu hin gatamnu; lafaan dha'amna, garuu hin badnu.

* **4:6** 4:6 Uma 1:3

10 Akka jireenyi Yesuus dhagna keenyaan mul'ifamuuf nu yeroo hunda du'a Yesuus
dhagna keenyatti baannee deemna. 11 Nu warri lubbuun jirru akka jireenyi isaa
foon keenya kan du'u keessaan mul'ifamuuf yeroo hunda Yesuusiif jennee du'atti
dabarfamnee kennamnaatii. 12 Egaa duuti nu keessatti hojjeta; jireenyi immoo isin
keessatti hojjeta.
13 "Ani amaneera; kanaafis dubbadheera"† jedhamee barreeffameera. Nu immoo
sababii hafuura amantii sanaan ni amanna; kanaafis ni dubbanna; 14 inni Gooftaa
Yesuusin warra du'an keessaa kaase sun nuus Yesuus wajjin kaasee isin wajjinis fuula
isaa duratti akka nu dhi'eessu ni beekna. 15 Ayyaanni namoota hedduu waliin ga'aa
jiru kun ulfina Waaqaatiif galata guutee dhangala'u akka fiduuf wanni kun hundi
bu'aa keessaniif ta'e.

*Duuti Akka Hin Hafnee fi Hiikkaa Inni Kiristaanaaf Kennu*

16 Kanaafuu nu abdii hin kutannu. Yoo namummaan keenya inni alaan mul'atu
dhumaa deeme iyyuu, namummaan keenya inni keessaa garuu guyyuma guyyaan
haaromfamaa deema. 17 Dhiphinni keenya inni salphaanii fi yeroodhaaf turu kun
ulfina bara baraa kan waan hunda caalu nuuf fida. 18 Kanaafuu nu waan hin
mul'anne ilaalla malee waan mul'atu hin ilaallu. Wanti mul'atu waan yeroo ti; wanti
hin mul'anne garuu waan bara baraatii.

# 5

*Dhagna Haaraa Eeggachuu*

1 Yoo dunkaanni lafa irraa kan nu keessa jiraannu kun diigame mana Waaqni ijaare,
mana bara baraa kan harka namaatiin hin ijaaramin samii irraa akka qabnu beekna.
2 Hammasitti mana keenya kan samii irraa sana uffachuu hawwuudhaan ni aadna;
3 nu yommuu isa ufannutti qullaa hin argamnuutii. 4 Nu utuma dunkaana kana
keessa jirruu ni aadna; ba'aanis nutti ulfaateera; nu garuu wanni du'a hin oolle
jireenyaan akka liqimfamuuf mana keenya kan samii irraa uffachuu malee akka
uffanni nurraa baafamu hin barbaannuutii. 5 Kan kaayyoo kanaaf nu qopheesses
Waaqa isa Hafuura Qulqulluu wabii waan dhufuuf jiruu godhee akka qabdiitti nuu
kenne sanaa dha.
6 Kanaaf nu yeroo hunda ija jabina qabna; hamma dhagna fooniitiin jirrutti Gooftaa
irraa fagoo akka jirru beekna. 7 Nu amantiidhaan jiraanna malee arguun miti.
8 Nu ija jabina qabna; dhagna foonii kana irraa addaan baanee Gooftaa wajjin
jiraachuu filanna. 9 Kanaaf nu dhagna fooniitiin jiraannus, dhagna foonii irraa
fagaannus kaayyoon keenya Isa gammachiisuu dha. 10 Tokkoon tokkoon namaa yeroo
dhagna fooniitiin jiraachaa turetti akka hojii tolaa yookaan hamaa hojjeteef gatii isaa
argatuuf hundi keenya barcuma murtii Kiristoos duratti dhi'aachuu qabnaatii.

*Tajaajila Araaraa*

11 Nu Gooftaa sodaachuun maal akka ta'e waan beeknuuf namoota amansiisuuf
yaalii goona. Eenyummaan keenya Waaqa biratti beekamaa dha; yaada garaa
keessaniitiifis beekamaa akka ta'e nan abdadha. 12 Nu akka isin nuun boontaniif
carraa isinii kennuuf malee amma illee isin biratti of galateeffachuuf miti; kunis isin
warra waan garaa keessa jiru caalaa waan ijatti mul'atuun boonaniif deebii kennuu
akka dandeessaniif. 13 Nu yoo akka namoonni tokko tokko jedhan sana "qalbii
dabarsine," Waaqaaf jennee ti; yoo qalbii qabeeyyii taane immoo isiniif jennee ti.
14 Jaalalli Kiristoos nu dirqisiisaatii; sababiin isaas waan namni tokko nama hundaaf
du'eef namni hundi kan du'e ta'uu isaa amansiifamneerra. 15 Innis akka warri
lubbuun jiran si'achi isa isaaniif jedhee du'ee du'aa kaafame sanaaf malee akka ofii
isaaniitiif hin jiraanneef nama hundumaaf du'e.

† **4:13** 4:13 Far 116:10

[16] Kanaafuu nu ammaa jalqabnee nama tokko iyyuu akka ilaalcha fooniitti hin
ilaallu. Yoo kanaan dura akka ilaalcha addunyaatti Kiristoosin ilaalaa turre iyyuu,
si'achi akkas hin goonu. [17] Kanaafuu eenyu iyyuu yoo Kiristoositti jiraate inni
uumama haaraa dha; wanni moofaan darbeera; kunoo wanni haaraan dhufeera.
[18] Kun hundinuus Waaqa Kiristoosiin ofitti nu araarsee fi tajaajila araaraa nuu
kenne sana irraa dhufe; [19] kunis, Waaqni cubbuu namootaa isaanitti lakkaa'uu
dhiisuudhaan Kiristoosiin addunyaa ofitti araarsaa ture jechuu dha. Innis ergaa
araaraa sana imaanaa nutti kenneera. [20] Kanaafuu nu bakka bu'oota Kiristoos;
Waaqnis karaa keenyaan isin sossobata; nus akka isin Waaqatti araaramtaniif qooda
Kiristoos taanee isin kadhanna. [21] Akka nu isumaan qajeelummaa Waaqaa taanuuf
Waaqni nuuf jedhee Kiristoos isa cubbuu hin qabne sana cubbuu godhe.

# 6

[1] Egaa nu warri Waaqa wajjin hojjennu, akka isin ayyaana Waaqaa akka waan gatii
hin qabneetti hin fudhanne isin kadhanna. [2] Inni,
"Ani yeroo fudhatama qabutti si dhaga'eera;
guyyaa fayyinaattis si gargaareera"*
jedhaatii. Kunoo yeroon fudhatama qabu amma; guyyaan fayyinaas amma.

### *Gidiraa Phaawulos Irra Ga'e*

[3] Nu akka tajaajilli keenya hin tuffatamneef, karaa nama kamii irra iyyuu gufuu hin
keenyu. [4] Qooda kanaa nu karaa hundaan akka tajaajiltoota Waaqaatti of dhi'eessina;
obsa guddaadhaan, dhiphinaan, gidiraa fi yaaddoon, [5] garafamuun, mana hidhaatti
galfamuun, jeequmsaan, hojii dadhabsiisaa hojjechuun, hirriba dhabuun, beela'uun,
[6] qulqullaa'ummaan, hubannaan, obsaa fi gara laafinaan, Hafuura Qulqulluu fi
jaalala of tuulummaa hin qabneen, [7] dubbii dhugaatii fi humna Waaqaatiin, mi'a
waraanaa kan qajeelinaa harka mirgaatii fi harka bitaatti qabachuun, [8] ulfinaa fi
salphinaan, maqaa baduu fi maqaa toluun jiraanneerra; akkasumas utuu dhugaa
qabeeyyii taanee jirruu, sobduu jedhamneerra; [9] beekamtoota turre; garuu akka
warra hin beekaminiitti hedamne; nu du'aa jirra; garuu kunoo ni jiraanna; ni
tumamna; garuu hin ajjeefamnu; [10] ni gaddina; garuu yeroo hunda ni gammanna;
hiyyeeyyii dha; garuu namoota hedduu sooromsina; homaa hin qabnu; garuu waan
hunda qabna.
[11] Yaa warra Qorontos, nu afaan guunnee isinitti dubbanneerra; garaan keenyas
isiniif banamaa dha. [12] Isinitu garaa nu dhokfate malee nu garaa isin hin dhokfanne.
[13] Ani akka waan isin ijoollee koo taataniittin isinitti dubbadha; isinis akkasuma garaa
keessan bal'isaa nuu banaa.

### *Warra Hin Amanneen Walitti Hin Camadaminaa*

[14] Warra hin amanneen walitti hin camadaminaa. Qajeelummaa fi jal'inni maal
wal irraa qabu? Yookaan ifni dukkana wajjin tokkummaa maalii qaba? [15] Kiristoosii
fi Belhor gidduu walii galtee maaliitu jira? Namni amanu tokko nama hin amanne
wajjin maal wal irraa qaba? [16] Manni qulqullummaa Waaqaa waaqota tolfamoo
wajjin walii galtee maalii qaba? Nu mana qulqullummaa Waaqa jiraataa ti. Waaqnis
akkana jedhee dubbateera;
"Ani isaan wajjin nan jiraadha;
isaan gidduus nan deddeebi'a.
Ani Waaqa isaanii nan ta'a;
isaanis saba koo ni ta'u."†
[17] Kanaafuu,

* **6:2** 6:2 Isa 49:8 † **6:16** 6:16 Lew 26:12; Erm 32:38; His 37:27

"Isaan keessaa ba'aa;
isaan irraas gargar fo'amaa;
jedha Gooftaan.
Waan xuraa'aa hin tuqinaa,
anis isinan simadha."‡
18 Amma illee,
"Ani Abbaa isiniif nan ta'a;
isinis ilmaanii fi intallan koo ni taatu;
jedha Gooftaan Waan Hunda Danda'u."§

# 7

1 Kanaafuu yaa jaallatamtoota, nu waan waadaawwan kanneen qabnuuf kottaa
Waaqa sodaachaa qulqullina fiixaan baasuudhaan waan foonii fi hafuura xureessu
hundumaa irraa of qulqulleessinaa.

*Gammachuu Phaawulos*

2 Isin garaa nuu bal'adhaa. Nu nama tokko illee hin yakkine; nama tokko illee
amala hin balleessine; nama tokko illee gowwoomsinee waa irraa hin fudhanne.
3 Kana jechuun koos isinitti muruuf miti; nu isin wajjin du'uu fi jiraachuuf akka
isin garaa keenya keessa jirtan ani duraan dursee himeeraatii. 4 Ani guddiseen
isin amanadha; guddisees isiniin nan boona. Ani baay'ee jajjabeeffameera; rakkina
keenya hunda keessattis gammachuun koo hamma hin qabu.

*Tiitoo Wajjin Wal Arguu*

5 Yeroo Maqedooniyaa dhufnettis nu qixa hundaan dhiphachaa turre malee foon
keenya kun boqonnaa hin arganne; alaan lola, keessaan immoo sodaatu nurra ture.
6 Waaqni warra gaddan jajjabeessu garuu dhufaatii Tiitootiin nu jajjabeesse; 7 kun
immoo isin isa jajjabeessuu keessaniinis malee dhufaatii isaa qofaan miti. Innis na
yaaduu keessan, gadduu keessan, hinaaffaa isin naaf qabdan nutti himeera; kanaafuu
ani hamma duraa caalaa gammadeera.
8 Ani yoon xalayaa kootiin isin gaddisiise illee waan kana gochuu kootiif hin
gaabbu. Ani yoon gaabbe illee akka xalayaan sun isin gaddisiise nan hubadha;
ta'us isin gaddisiisuun isaa yeruma gabaabaaf; 9 amma garuu sababii isin gadditaniif
utuu hin ta'in sababii gaddi keessan gara qalbii jijjiirrachuutti isin geesseef ani nan
gammada. Isin akka fedhii Waaqaatti gadditaniitii; kanaafuu isin karaa kamiin iyyuu
nuun hin miidhamne. 10 Gaddi akka fedhii Waaqaatti ta'u qalbii jijjiirrannaa gara
fayyinaatti nama geessu fida malee gaabbii hin fidu; gaddi akka fedhii addunyaatti
ta'u garuu du'a fida. 11 Gaddi akka fedhii Waaqaatti ta'e kun tattaaffii akkamii,
dandeettii falmachuu akkamii, dheekkamsa akkamii, sodaa akkamii, namaa yaaduu
akkamii, hinaaffaa qajeelaa akkamii, murtii qajeelaa akkamii isin keessatti akka
uume mee ilaalaa! Isin waan kana irratti karaa hundaan akka qulqulloota taatan
mirkaneeffattaniirtu. 12 Kanaafuu ani isinii barreessu iyyuu, isin fuula Waaqaa
duratti hammam akka nuuf of kennitan akka ofuma keessaniin argitaniif malee
sababii namicha nama miidheetiif yookaan sababii namicha miidhameetiif miti.
13 Nuus kana hundaanuu ni jajjabaanna.
Jajjabina keenyatti dabalees keessumattuu Tiitoon gammaduu isaa arginee gam-
manneerra; hafuurri isaa isin hundaan haaromfameeraatii. 14 Ani isiniin isatti
booneen ture; isinis na hin qaanessine. Garuu akkuma wanni nu isinitti himne
sun hundi dhugaa ta'e, waa'ee keessan Tiitootti boonuun keenyas akkasuma dhugaa
ta'uun isaa mirkanaa'eera. 15 Innis ajajamuu hunda keessanii akkasumas sodaa fi

‡ **6:17** 6:17 Isa 52:11; His 20:37,41 § **6:18** 6:18 2Sm 7:8,14

hollannaa isin ittiin isa simattan sana yeroo yaadatutti jaalalli inni isiniif qabu isa
durii caalaa dabalama. 16 Ani abdii guutuu isin irraa qaba; kanaafuu nan gammada.

# 8

*Arjummaa Qulqullootaaf Taasifame*

1 Yaa obboloota, waa'ee ayyaana Waaqni waldoota kiristaanaa Maqedooniyaatiif
kennee isin akka beektan ni barbaanna. 2 Isaanis utuu dhiphina baay'een qoramuutti
jiranuu, baay'inni gammachuu isaaniitii fi akka malee deeguun isaanii arjummaa
isaanii baay'iseera. 3 Ani akka isaan hamma dandeettii isaanii, dandeettii isaaniitii
olis fedhii isaaniitiin kennan dhugaa nan ba'aatii. Isaan guutumaan guutuutti
ofuma isaaniitiin 4 carraa qulqulloota tajaajiluu kana keessatti akka hirmaatan
cimsanii nu kadhatan. 5 Isaan garuu duraan dursanii Gooftaaf, ergasii immoo fedhii
Waaqaatiin nuuf of kennan malee akka nu eegne hin goone. 6 Kanaafuu Tiitoon
akkuma duraan jalqabe sana hojii arjummaa kana gama keessaniin akka fiixaan
baasuuf isa kadhanne. 7 Isin garuu akkuma waan hundaan jechuunis amantiin,
dubbiin, beekumsaan, tattaaffii guutuu fi jaalala nuuf qabdaniin caaltan sana, kennaa
arjummaa kaaniinis akka caaltan mirkaneessaa.
8 Ani tattaaffii namoota kaaniitiin wal bira qabee jaalalli keessan dhugaa ta'uu isaa
qoruu barbaadeeti malee isin ajajaa hin jiru. 9 Isin ayyaana Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoos ni beektuutii; inni utuu sooressa ta'ee jiruu akka isin hiyyummaa isaatiin
sooromtaniif isiniif jedhee hiyyoome.
10 Waan kana irratti gorsi ani waa'ee waan hunda caalaa isiniif wayyuu irratti
kennu kanaa dha. Isin waggaa darbe kennuu qofaan utuu hin ta'in fedhii kennuuf
qabdaniinis kanneen jalqabaa turtan. 11 Ammas fedhiin cimaan isin hojii sanaaf
qabdan isa fiixa baasuu keessaniin akka mirkanaa'uuf waanuma qabdaniin hojii sana
fiixaan baasaa. 12 Erga fedhiin jiraate kennaan sun akkuma waan namni qabuutti
fudhatama malee akka waan namni hin qabneetti miti.
13 Fedhiin keenya akka isin rakkattanii warra kaanitti immoo toluuf utuu hin ta'in
akka wal qixxummaan jiraatuuf. 14 Akka wanti isaan irraa hafu hir'ina keessan
guutuuf, yeroo ammaa wanti isin irraa hafu hir'ina isaanii ni guuta. Yoos wal
qixxummaan ni jiraata; 15 kunis akkuma, "Isa baay'ee walitti qabateef baay'een
hin hafne; isa xinnoo walitti qabatettis wanni tokko iyyuu hin hir'anne"* jedhamee
barreeffamee dha.

*Tiitoon Qorontositti Ergame*

16 Waaqa yaaduma ani isiniif qabu garaa Tiitoo keessa kaa'e sana nan galateef-
fadha. 17 Tiitoon gorsa keenya fudhachuu qofaan utuu hin ta'in fedhii guddaan ofuma
isaatiin ka'ee gara keessan dhufaa jiraatii. 18 Nus obboleessa tajaajila wangeelaatiin
waldoota kiristaanaa hundaan jajame sana isa wajjin ni ergina. 19 Kana malees inni
hojii nu ulfina Gooftaatii fi fedhii gaarii qabnu mul'isuuf hojjennu keessatti akka
nu wajjin deemuuf waldoota kiristaanaatiin filatameera. 20 Nu kennaa arjummaa
kana hojii irra oolchuu keessatti akka namni kam iyyuu maqaa nu hin balleessine of
eegganna. 21 Nu utuu fuula Gooftaa qofa duratti hin ta'in fuula namootaa durattis
waan qajeelaa hojjechuuf tattaaffanna.
22 Kana malees obboleessa keenya isa nu yeroo baay'ee waan hedduun qorree nama
hisataa ta'uu isaa mirkaneeffanne sana isaan wajjin ergineerra; innis waan amantii
guddaa isin irraa qabuuf kan duraa caalaa ni yaada. 23 Waa'ee Tiitoo irratti, inni
garee koo kan na wajjin isin gidduu hojjetuu dha; waa'ee obboloota keenyaa immoo
isaan bakka bu'oota waldoota kiristaanaatii fi ulfina Kiristoos. 24 Kanaafuu akka

---

* **8:15** 8:15 Bau 16:18

waldoonni kiristaanaa arguu danda’aniif dhugaa jaalala keessaniitii fi sababii nu
isiniin of jajnuuf namoota kanneenitti argisiisaa.

## 9

1 Waa’ee tajaajila qulqullootaaf kennamu kanaa isinii barreessuu na hin bar-
baachisu. 2 Ani akka isin gargaaruuf hinaaftan nan beekaatii; anis, “Warri
Akaayyaa bara darbee jalqabanii gargaarsa kennuuf qophaa’aniiru” jedhee namoota
Maqedooniyaa biratti of jajeen ture; fedhiin keessanis isaan keessaa namoota baay’ee
hojiif kakaaseera. 3 Egaa ani akkuman “Isaan qophaa’aniiru” jedhee dubbadhe
sanatti, akka isin qophooftanii argamtaniif malee waa’ee kanaatiif isiniin of jajuun
keenya waan akkasumaan dubbatame akka hin taane ani obboloota ergeera. 4 Yoo
namoonni Maqedooniyaa kam iyyuu na wajjin dhufanii akka isin hin qophaa’in
argan, nu warri akkas isin amananne iyyuu waa’ee keessan waan jennu dhabnee
ni qaanofna. 5 Kanaafuu akka obboloonni kunneen duraan dursanii gara keessan
dhufanii kennaa arjummaa kan isin waadaa galtan sana qopheessaniif isaan gorsuun
barbaachisaa natti fakkaate. Yoos kennaan sun akka dirqamaatti utuu hin ta’in akka
kennaa arjummaatti qopheeffama.

### *Arjummaan Jajjabeeffamuu Isaa*

6 Waan kana yaadadhaa: Namni harka isaa utuu hin guutin facaasu utuu harka
isaa hin guutin galfata; namni harka isaa guutee facaasu immoo harka isaa guutee
galfata. 7 Tokkoon tokkoon namaa utuu sassataan yookaan dirqamaan hin ta’in
waan kennuuf garaa keessatti yaade haa kennu; Waaqni nama gammachuun kennu
jaallataatii. 8 Isin yeroo hundumaa waan hundumaan waan isin barbaachisu hunda
qabaattanii hojii gaarii hundumaan akka guutamtaniifis Waaqni ayyaana hunda isinii
baay’isuu ni danda’a. 9 Kunis akkuma,
“Inni ni bittinneesse; hiyyeeyyiif ni kenne;
qajeelummaan isaa bara baraan ni jiraata”*
jedhamee barreeffamee dha. 10 Inni namicha facaasuuf sanyii, kan nyaatuuf immoo
buddeena kennu sun isinis akka facaafattaniif sanyii isinii kenna; isinii baay’isas; ija
qajeelummaa keessaniis ni baay’isa. 11 Isinis yeroo hunda akka arjoomtaniif karaa
hundaan ni sooromfamtu; arjummaan keessanis karaa keenyaan Waaqaaf galata fida.
12 Tajaajilli isin kennitan kun waan qulqullootaaf barbaachisu guutuu qofa utuu hin
ta’in, akka galanni baay’een guutee Waaqaaf irra dhangala’u taasisa. 13 Sababii ta-
jaajila isin ittiin of mirkaneessitan sanaatiin, wangeela Kiristoos lallabuun ajajamuu
keessanii fi arjummaan keessan kan isin isaanii fi warra kaan hundaaf arjoomtan
sanaaf namoonni Waaqa jajatu. 14 Isaanis kadhannaa isiniif kadhatan keessatti
sababii ayyaana guddaa kan Waaqni isinii kenne sanaatiif isin yaadu. 15 Kennaa
isaa kan ibsamuu hin dandeenye sanaaf galanni Waaqaaf haa ta’u!

## 10

### *Phaawulos Tajaajila Isaatiif Falmate*

1 Ani Phaawulos kan yeroon isin bira jiru “Ija laafessa” yeroon isin irraa
fagaadhu immoo “Ija jabeessa” ta’e garraamummaa fi gara laafina Kiristoosiin isinan
kadhadha! 2 Ani yeroon gara keessan dhufutti akka isin ija jabina ani warra waan
nu akka yaada fooniitti jiraannu se’an sana irratti nan qabaadha jedhee yaadu sana
qabaadhu akka isin na hin goone isin kadhadha. 3 Nu yoo fooniin jiraanne iyyuu
akka yaada fooniitti hin lollu. 4 Mi’i waraanaa kan nu ittiin lollu kan da’annoo
jigsuudhaaf humna Waaqaa qabuudha malee mi’a waraana foonii miti. 5 Mormii fi of

* 9:9 9:9 Far 112:9

tuulummaa beekumsa Waaqaa irratti ka'u hunda ni diigna; yaada hundas boojinee
Kiristoosiif akka ajajamu ni goona. 6 Yommuu isin guutummaatti ajajamuu keessan
raawwattanitti, nu immoo ajajamuu diduu hunda haaloo ba'uuf ni qophoofna.

7 Isin waanuma isinitti mul'atu qofa ilaaltu. Eenyu iyyuu yoo kan Kiristoos ta'uu
isaatti amane akkuma inni kan Kiristoos ta'e, nus kan Kiristoos ta'uu keenya haa
hubatu. 8 Ani taayitaa keenya kan Gooftaan akka ittiin isin diignuuf utuu hin
ta'in akka ittiin isin ijaarruuf nuu kenne sanaan caalaatti yoon boone iyyuu itti
hin qaana'u. 9 Ani waanan ergaa kootiin isin sodaachisuu yaalu fakkaachuu hin
barbaadu. 10 Namoonni tokko tokko, "Ergaan isaa ulfaataa fi cimaa dha; inni yeroo
qaamaan argamutti garuu dadhabaa dha; dubbiin isaas tuffatamaa dha" jedhu.
11 Warri akkasii akka wanni nu fagoo jiraannee barreessinuu fi wanni nu yeroo isaan
wajjin jirrutti hojjennu tokkuma ta'e haa hubatan.

12 Nu warra of saadan tokko tokkotti of ramaduuf yookaan isaaniin of qixxeessuuf
ija hin jabaannu. Isaan yeroo walii isaaniitti of madaalanii fi walii isaaniitti of
qixxeessan hin hubatan. 13 Nu garuu hamma daangaa Waaqni nuu ramade kan
isin bira ga'uutti malee dandeettii keenyaa olitti of hin jajnu. 14 Nu waan wangeela
Kiristoos lallabaa gara keessan dhufneef, akka waan isin bira hin ga'iniitti baay'ee
hin hiixannuutii. 15 Nu hojii warra kaaniin hojjetameen baay'ee of hin jajnu. Akkuma
amantiin keessan guddachaa deemuun akka iddoon hojii keenyaa kan isin gidduutti
argamu akka malee babal'atu ni abdanna; 16 kunis akka nu hojii duraan dursee
biyya nama biraa keessatti hojjetameen utuu of hin jajin biyyoota isinii achi jiran
keessatti wangeela lallabuu dandeenyuuf. 17 Garuu, "Namni boonu Gooftaadhaan
haa boonu."* 18 Nama Gooftaan galateessutu fudhatama argata malee namni of
galateessu fudhatama hin argatuutii.

# 11

### *Phaawulosii fi Ergamoota Sobaa*

1 Ani gowwummaa koo ishee xinnoo naa obsitu jedheen abdadha; duraanuu
naa obsitaniirtu. 2 Ani hinaaffaa Waaqaatiin isiniif nan hinaafa. Ani akka durba
tokkootti fuula isaa duratti isin dhi'eessuuf dhirsa tokko jechuunis Kiristoosiif isin
kaadhimeeraatii. 3 Garuu akkuma bofti haxxummaa isaatiin Hewaanin gowwoomse
sana yaadni keessanis akkasuma dhugaa fi qulqullina ittiin Kiristoosiif of kennitan
sana irraa ni dogoggorfama jedheen sodaadha. 4 Namni tokko gara keessan dhufee
yoo Yesuus nu isinii lallabne malee Yesuus kan biraa isinii lallabe, yookaan Hafuura
nu isinii lallabne malee hafuura kan biraa yoo fudhattan, yookaan wangeela nu isinii
lallabne malee wangeela kan biraa yoo fudhattan ni obsitu.

5 Ani, "Ergamoota hangafoota" sanaa gaditti of hin ilaalu. 6 Ani dubbiitti leenjii
hin qabu; garuu beekumsa qaba. Kanas karaa hundaan sirriitti isinii ibsineerra.
7 Wangeela Waaqaa gatii malee isinitti lallabuudhaan akka isin ol ol jettaniif ani
gad of qabuun koo cubbuu turee? 8 Ani isin tajaajiluuf jedhee gargaarsa isaan irraa
fudhachuudhaan waldoota kiristaanaa kaan saameera. 9 Ani yeroon isin bira turee fi
yeroo waa na barbaachisetti eenyutti illee ba'aa hin taane; obboloonni Maqedooniyaa
irraa dhufan waan na barbaachisuun na gargaaraa turaniitii. Anis waanuma tokkoon
illee akka ba'aa isinitti hin taaneef of eeggachaan ture; amma illee ittuma fufee ofin
eeggadha. 10 Hamma dhugaan Kiristoos na keessa jirutti boonuu koo kana kutaalee
biyya Akaayaa keessatti eenyu iyyuu na dhowwuu hin danda'u. 11 Maaliif? Ani waan
isin hin jaallanneef moo? Isin jaallachuu koo Waaqni ni beeka!

* **10:17** 10:17 Erm 9:24

12 Warra waan ittiin boonaniin nuun qixxaachuuf jedhanii carraa barbaaddatan
carraa dhowwachuuf ani waanan amma hojjedhu ittuma fufee nan hojjedha.
13 Namoonni akkanaa ergamoota sobaa, hojjettoota nama gowwoomsan, warra
ergamoota Kiristoos fakkaachuuf of geeddaranii dha. 14 Seexanni mataan isaa
ergamaa ifaa fakkaachuuf waan of geeddaruuf kun nama hin dinqu. 15 Egaa
tajaajiltoonni isaas yoo tajaajiltoota qajeelummaa fakkaachuuf of geeddaran kun
waan nama dinqu miti. Dhumni isaaniis akkuma hojii isaanii ta'a.

*Phaawulos Dhiphinaan Of jaje*

16 Ani ammas irra deebi'ee nan dubbadha: Namni tokko iyyuu gowwaa na hin
se'in. Isin yoo gowwaa na seetan ani xinnoo akkan boonuuf akkuma gowwaa
tokkootti na fudhadhaa. 17 Ani of amanadhee boonuu kana keessatti akka gowwaa
tokkoottin dubbadha malee akka Gooftaan dubbatutti hin dubbadhu. 18 Waan
namoonni hedduun akkuma yaada fooniitti boonaniif, anis nan boona. 19 Isin
ogeeyyii waan taataniif gammachuudhaan gowwootaaf obsitu! 20 Yoo eenyu iyyuu
isin garboomfate yookaan yoo isin irraa nyaate yookaan yoo faayidaa ofiitiif isinitti
fayyadame yookaan yoo koore yookaan yoo isin kabale ni obsituutii. 21 Akka nu waan
akkasii irratti dadhaboo turre ani qaana'aa nan dubbadha.

Ani akka gowwaa tokkoottin dubbadha; waan namni kam iyyuu ittiin of jajuu
fi ija jabaatu sana anis ittiin of jajuuf ija nan jabaa dha. 22 Isaan Ibrootaa? Anis
akkasuma. Isaan Israa'elootaa? Anis akkasuma. Isaan sanyii Abrahaamii? Anis
akkasuma. 23 Isaan tajaajiltoota Kiristoosii? Ani akka nama qalbii dabarseettin
dubbadhaatii ani nan caala. Ani caalchisee baay'ee itti dadhabeera; caalchisee yeroo
baay'ee hidhameera; caalchisee akka malee garafameera; ammumaa ammas du'aaf
saaxilameera. 24 Harka Yihuudootaattis si'a shan afurtama jechuu tokko hanquu
garafameera. 25 Si'a sadii uleen dhaanameera; si'a tokko dhagaadhaan tumameera;
si'a sadii dooniin na jalaa caccabeera; halkan tokkoo fi guyyaa tokko galaana keessa
tureera; 26 ani utuun wal irraa hin kutin deemsa irra ture. Balaan lagaa, balaan
saamtotaa, balaan saba kootii, balaan Namoota Ormaa, magaalaa keessatti balaan,
gammoojjii keessatti balaan, galaana irratti balaan, obboloota sobaa irraas balaan na
mudatee ture. 27 Ani baay'ee hojjedhee bututeera; halkan baay'ee hirriba dhabeera;
beela'eera; dheebodheera; yeroo baay'ee soomeera; dhaamodheera; daareeras.
28 Kana hundumaa caalaa yaaddoo ani waldoota kiristaanaa hundumaaf qabutu
guyyaa guyyaan natti ulfaata. 29 Eenyutu dadhabaa dha? Ani hin dadhabuu ree?
Eenyutu hin gufanne? Ani aaree hin gubadhuu ree?

30 Ani yoon of jajuu qabaadhe waan dadhabbii koo mul'isuun of nan jaja. 31 Waaqaa
fi Abbaan Gooftaa Yesuus inni bara baraan eebbifamu sun akka ani hin sobne ni
beeka. 32 Damaasqoo keessatti namichi mooticha Areexaas jalatti bulchaa biyyaa
ture na qabsiisuuf jedhee magaalaa namoota Damaasqoo eegsisaa ture. 33 Ani garuu
foddaa dallaa keessaan guuboodhaan gad buufamee harka isaa jalaa ba'e.

# 12

*Mul'ata Phaawulos*

1 Yoo bu'aa qabaachuu baate iyyuu ani nan boona. Ani gara waan Gooftaan na
argisiiseetii fi mul'ata isa biraa dhufeetti nan qajeela. 2 Namichi Kiristoositti jiru
tokko waggaa kudha afur dura gara samii sadaffaatti ol fudhatamuu isaa nan beeka.
Innis dhagna fooniitiin ta'uu fi ta'uu baachuu isaa Waaqatu beeka malee ani hin
beeku. 3 Ani nama akkanaa nan beeka; dhagna fooniitiin ta'uu fi ta'uu baachuu
isaa ani hin beeku; Waaqatu beeka; 4 innis gara jannataatti ol fudhatamee waan
hin dubbatamne kan akka namni himuuf hin eeyyamamne dhaga'e. 5 Ani waa'ee

nama akkasiitiif nan boona; garuu waa'ee dadhabbii kootii malee waa'ee ofii kootii
hin boonu. [6] Ani waanan dhugaa dubbachaa jiruuf yoon boonuu filadhe iyyuu hin
gowwoomu. Garuu namni tokko iyyuu waan narratti arguu fi waan narraa dhaga'u
caalaa akka waa'ee koo hin yaadneef ani waan akkasii irraa ofin qusadha; [7] akka
ani mul'ata akka malee guddaa kanaan of hin tuulleef qoraattiin foon koo waraanu
tokko, ergamaan Seexanaa akka na dhiphisuuf naa kenname. [8] Wanni kun akka
narraa fagaatuuf si'a sadii Gooftaa nan kadhadhe. [9] Inni garuu, "Ayyaanni koo si
ga'a; humni koo dadhabbii keessatti guutuu ta'aatii" naan jedhe. Kanaafuu humni
Kiristoos akka narra boqotuuf waa'ee dadhabbii kootii caalchisee gammaduudhaan
akka malee nan boona. [10] Ani waa'ee Kiristoosiif jedhee dadhabbii keessatti, arrabsoo
keessatti, gidiraa keessatti, ari'atama keessatti, rakkina keessattis gammaduun koo
kanumaaf. Yoos ani yeroon dadhabutti nan jabaadhaatii.

### *Phaawulos Warra Qorontosiif Yaaduu Isaa*

[11] Ani of gowwoomseera; waan kanatti garuu isinitu na dhiibe. Ani yoon waanuma
tokkotti illee hedamuu baadhe, waan "Ergamoota hangafoota" sanaa gad hin taaneef
silaa isin naa dubbachuu qabdu turtan. [12] Mallattoowwan ergamaa dhugaa tokko
jechuunis mallattoon, hojiin dinqiitii fi raajiin isin gidduutti obsa guddaadhaan
hojjetamaniiru. [13] Ani utuu ba'aa isinitti hin ta'in hafuu kootiin alatti wanti isin
ittiin waldoota kiristaanaa kaanii gad taatan maali? Yakka kana naa dhiisaa!
[14] Ani si'a sadaffaaf gara keessan dhufuuf qophaa'eera; ani isinuma malee
qabeenya keessan waan hin barbaanneef ba'aa isinitti hin ta'u. Warratu ijoollee
isaaniitiif qabeenya kuusuu qaba malee ijoolleen warra isaaniitiif kuusuu hin qaban.
[15] Ani waanan qabu hunda gammachuun isiniif nan kenna; ofii koo illee isiniif nan
kenna. Sababii ani baay'isee isin jaalladhuuf isin immoo xinneessitanii na jaallattuu
ree? [16] Haa ta'uu malee ani ba'aa isinitti hin taane. Ani garuu waanan abshaala ta'eef
malaan isin qabadhe. [17] Ani namoota isinitti erge keessaa karaa isa tokkootiin illee
waa isin irraa nyaadheeraa? [18] Ani akka Tiitoon gara keessan dhufuuf isa kadhadhe;
obboleessa tokkos isa wajjin ergeera. Tiitoon waa isin irraa nyaateeraa? Nu hafuura
tokkoon, karuma tokko irra deddeebi'aa hin turree?
[19] Isin waan nu hamma ammaatti fuula keessan duratti ofii keenyaaf falmannu
seetanii? Nu akka warra Kiristoositti jiraataniitti fuula Waaqaa duratti dubbanna;
yaa michoota, waan kana hunda hojjechuun keenya isinuma jajjabeessuuf. [20] Yeroo
ani gara keessan dhufutti isin akka ani fedhu taatanii hin argamtan ta'a. Yookaan ani
akka isin feetan ta'ee hin argamu ta'a jedheen sodaadhaatii. Wal loluun, hinaaffaan,
aariin boba'uun, wal qooduun, maqaa nama balleessuun, hamiin, of tuulummaanii
fi jeequmsi isin gidduu jiraata jedheen sodaadha. [21] Yeroo ani deebi'ee gara keessan
dhufutti Waaqni koo fuula keessan duratti gad na deebisa; anis waa'ee namoota
baay'ee kanneen kanaan dura cubbuu hojjetanii fi xuraa'ummaa irraa, halalummaa
fi jireenya gad dhiisii hamaa irraa hin deebi'iniif nan gadda jedheen sodaadha.

# 13

### *Akeekkachiisa Dhumaa*

[1] Ani kanaan walitti si'a sadaffaa gara keessan dhufuu koo ti. "Dubbiin hundinuu
dhuga baatota lamaan yookaan sadiin mirkaneeffamuu qaba."* [2] Ani duraanuu
yommuun si'a lammaffaa isin bira turetti isin akeekkachiiseera. Amma illee fagoo
taa'ee isuma irra nan deebi'a; ani yeroon deebi'ee dhufutti warra kanaan dura
cubbuu hojjetaniifis ta'u warra kaan hundaaf garaa hin laafu; [3] kunis isin akka
Kiristoos karaa kootiin dubbatu ragaa waan barbaaddaniif. Inni isin gidduutti

---
* **13:1** 13:1 KeD 19:15

cimaadha malee waa’ee keessan irratti dadhabaa miti. 4 Inni dadhabbiidhaan
fannifamu iyyuu, humna Waaqaatiin garuu ni jiraata. Nus akkasuma isatti
dadhabdoota; ta’us isin tajaajiluuf humna Waaqaatiin isa wajjin ni jiraanna.
5 Isin amantiidhaan jiraachuu fi jiraachuu baachuu keessan beekuuf of qoraa;
of ilaalaas. Dhugumaan isin yoo qormaaticha kuftan malee akka Yesuus Kiristoos
isin keessa jiru hin beektanii? 6 Anis akka nu qormaaticha hin kufin isin akka
hubattan nan amana. 7 Nu ammas akka isin waan hamaa tokko illee hin
hojjenneef Waaqa kadhanna. Kunis nu yoo waan qormaata kufne fakkaanne illee
akka isin waan qajeelaa hojjettaniif malee akka namoonni qormaaticha keessatti
cimnee dhaabachuu keenya arganiif miti. 8 Nu dhugaaf hojjenna malee, dhugaa
mormuudhaan homaa hojjechuu hin dandeenyuutii. 9 Yommuu nu dadhabnee isin
immoo jabaattanitti ni gammanna; kadhannaan keenyas akka isin warra hir’ina hin
qabne taataniif. 10 Wanni ani yeroo fagoo jirutti barreessuuf kanaa dha; kunis akka
ani yeroon gara keessan dhufutti taayitaa Gooftaan akka ani ittiin isin diiguuf utuu
hin ta’in, akka ani ittiin isin ijaaruuf naa kennetti fayyadamee isinitti hin jabaanneef.

### *Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

11 Egaa yaa obboloota nagaatti. Haaromfamaa; wal jajjabeessaa; yaada tokko
qabaadhaa; nagaadhaan jiraadhaa. Waaqni jaalalaatii fi nagaa isin wajjin ni ta’a.

12 Dhungoo qulqulluudhaan nagaa wal gaafadhaa.
13 Sabni Waaqaa hundinuu nagaa isinii dhaamu.

14 Ayyaanni Gooftaa Yesuus Kiristoos, jaalalli Waaqaa, tokkummaan Hafuura
Qulqulluus hunda keessan wajjin haa ta’u.

# Galaatiyaa

*Nagaa Gaafachuu*
1 Phaawulos ergamticha isa utuu namoota biraa yookaan namaan hin ta’in garuu
Yesuus Kiristoosii fi Waaqa Abbaa isa Yesuusin warra du’an keessaa kaaseen ergamee
fi 2 obboloota na wajjin jiran hundumaa irraa,

Gara Waldoota Kiristaanaa Galaatiyaatti:

3 Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nagaan isiniif
haa ta’u; 4 inni akka fedhii Abbaa keenyaa fi Waaqa keenyaatti bara hamaa kana
jalaa nu oolchuuf jedhee cubbuu keenyaaf of kenne; 5 ulfinni bara baraa hamma
bara baraatti isaaf haa ta’u. Ameen.

*Wangeelli Kan Biraa Hin jiru*
6 Akkana ariifattanii isa karaa ayyaana Kiristoosiin isin waame sana dhiisuudhaan
wangeela biraa duukaa bu’uun keessan baay’ee na dinqeera; 7 wangeelli biraa illee
hin jiru. Garuu namoonni isin dogoggorsanii wangeela Kiristoos jal’isuu yaalan tokko
tokko jiru. 8 Nus taanaan yookaan yoo ergamaan Waaqaa samii irraa dhufe tokko
wangeela nu kanaan dura isinitti lallabne sana irraa adda ta’e isinitti lallabe, inni
bara baraan haa abaaramu! 9 Akkuma nu kanaan dura jenne ani ammas irra deebi’ee
nan dubbadha; yoo eenyu iyyuu wangeela isin kanaan dura fudhattan sana irraa
adda ta’e isinitti lallabe inni abaaramaa haa ta’u!
10 Ani amma nama biratti moo Waaqa biratti fudhatama argachuu yaalaan jira?
Yookaan nama gammachiisuu nan yaalaa? Ani utuun hamma ammaatti nama
gammachiisuu yaalee silaa tajaajilaa Kiristoos hin ta’u ture.

*Phaawulos Waamamuu Isaa*
11 Yaa obboloota, wangeelli ani lallabe sun nama irraa akka hin dhufin isin akka
beektan nan barbaada. 12 Ani wangeelicha mul’ataan Yesuus Kiristoos irraa fudhadhe
malee nama tokko irraa illee hin fudhanne; yookaan namni na hin barsiifne.
13 Akka ani yeroon amantii Yihuudootaa duukaa bu’aa turetti waldaa kiristaanaa
Waaqaa akka malee ari’achaa fi balleessuufis yaalaa ture dhageessaniirtu. 14 Ani
amantii Yihuudootaatiin warra saba koo keessaa hiriyoota koo ta’an baay’ee nan
caala ture; duudhaa abbootii kootiifis akka malee nan hinaafa ture. 15 Garuu yommuu
Waaqni gadameessa haadha kootii jalqabee na filatee fi ayyaana isaatiin na waame
sun, 16 akka ani Namoota Ormaa gidduutti waa’ee Ilma isaa lallabuuf isa natti
mul’isuu jaallatetti ani nama tokkoon iyyuu hin mari’anne. 17 Ani warra anaan
dura ergamoota turan arguuf Yerusaalemitti ol hin baane; garuu yeruma sana biyya
Arabaan dhaqe. Ergasiis Damaasqoottin deebi’e.
18 Ergasiis anis waggaa sadii booddee Keefaan wal baruuf jedhee Yerusaalemitti ol
ba’e; guyyaa kudha shanis isa biran ture. 19 Ani garuu Yaaqoob obboleessa Gooftaa
malee ergamoota kaan keessaa tokko illee hin argine. 20 Wanti ani isinii barreessu
akka soba hin ta’in kunoo fuula Waaqaa duratti isiniifin mirkaneessa.
21 Ergasiis ani gara Sooriyaa fi biyya Kiilqiyaan dhaqe. 22 Waldoonni Kiristaanaa
Yihuudaa kanneen Kiristoositti jiranis fuula koo arganii hin beekan. 23 Isaanis oduu,
“Namichi duraan nu ari’achaa ture sun amma immoo amantiidhuma dur balleessuuf

yaalaa ture sana lallabaa jira” jedhu qofa dhaga’an. 24 Isaanis sababii kootiif Waaqaaf
ulfina kennan.

# 2

*Phaawulos Fudhatama Argachuu Isaa*

1 Ani waggaa kudha afur booddee deebi’ee Yerusaalemitti ol ba’e; ani yeroo kana
Barnaabaas wajjinin ture. Tiitoo illee of duukaa fudhadhee dhaqe. 2 Ani mul’ataanin
ol ba’e; wangeela Namoota Ormaa gidduutti lallabus isaaniif nan ibse. Kanas
akka fiigichi koo kan duraa, kan ammaas akkasumaan hin hafne waan sodaadheef
kophaatti warra dura bu’oota fakkaatanittin hime. 3 Garuu Tiitoon inni ana wajjin
ture iyyuu utuma nama Giriik ta’ee jiruu akka dhagna qabatu hin dirqisiifamne.
4 Kunis sababii obboloota sobaa tokko tokko bilisummaa nu karaa Kiristoos Yesuusiin
arganne basaasuu fi nu garboomfachuuf dhokatanii nu gidduu galaniif ta’e. 5 Nus
akka dhugaan wangeelaa isin bira jiraatuuf jennee battala tokkoof illee isaaniif hin
ajajamne.

6 Waa’een warra gurguddaa fakkaatan sanaa yoo isaan waanuma fedhan ta’an
iyyuu anaaf homaa miti; Waaqni fuula namaa ilaalee nama wal hin caalchisu;
namoonni kunneen ergaa koo irratti waan tokko hin daballe. 7 Karaa kaaniin immoo
isaan akkuma Phexros warra dhagna qabatanitti wangeela lallabuuf imaanaan itti
kenname sana, anis akka warra dhagna hin qabannetti wangeela lallabuuf imaanaan
natti kenname argan. 8 Waaqni akka Phexros ergamaa ta’ee warra dhagna qabatan
tajaajilu hojjete sun akka anis ergamaa ta’ee Namoota Ormaa tajaajilu hojjeteeraatii.
9 Yaaqoob, Keefaa fi Yohannis warri akka “Utubaatti” ilaalaman sun yommuu ayyaana
naa kenname hubatanitti anaa fi Barnaabaasiif harka mirgaa kan tokkummaa
kennanii akka nu gara Namoota Ormaa deemnu, isaan immoo akka gara warra
dhagna qabatanii dhaqan walii galan. 10 Wanni isaan nu kadhatanis akka nu
hiyyeeyyii yaadannu qofa ture; kun immoo waanuma ani gochuuf hawwaa turee
dha.

*Phaawulos Phexrosiin Mormuu Isaa*

11 Keefaan waan dogoggoree tureef yeroo inni Anxookiiyaa dhufetti ani ifaan ifattin
isaan morme. 12 Utuu jarri tokko Yaaqoob biraa hin dhufin dura inni Namoota
Ormaa wajjin nyaachaa ture. Yommuu isaan achi ga’anitti garuu waan garee warra
dhagna qabatanii sodaateef dugda duubatti deebi’ee Namoota Ormaa irraa gargar
ba’e. 13 Yihuudoonni kaanis itti fakkeessummaa isaa duukaa bu’an; Barnaabaas
iyyuu itti fakkeessummaa isaaniitiin dogoggorfamee ture.

14 Anis yommuu akka isaan daandii dhugaa wangeelaa irra hin deemne argetti
hunda isaanii duratti Keefaan akkana jedhe; “Ati Yihuudii dha; garuu utuu akka
Yihuudiitti hin ta’in akka Nama Ormaatti jiraatta; yoos ati akkamitti akka Namoonni
Ormaa bartee Yihuudootaa duukaa bu’an dirqisiifta ree?

15 “Nu dhalootaan Yihuudoota malee Namoota Ormaa cubbamoota miti; 16 namni
Yesuus Kiristoositti amanuun malee akka seera eeguun qajeelaa hin taasifamne
beekna. Kanaafuu seera eeguudhaan utuu hin ta’in amantii Kiristoos irratti
qabnuun qajeeltota akka taanuuf Kiristoos Yesuusitti amanneerra; eenyu iyyuu seera
eeguudhaan qajeelaa hin ta’uutii.

17 “Egaa nu utuu karaa Kiristoosiin qajeeltota taasifamuu barbaannuu nu mataan
keenya iyyuu cubbamoota taanee yoo argamnee Kiristoos tajaajilaa cubbuuti jechu-
udhaa ree? Kun gonkumaa akkas miti! 18 Ani yoon waanan diige deebisee ijaare
akkan seera cabsituu ta’en mirkaneessa.
19 “Ani akkan Waaqaaf jiraadhuuf, karaa seeraatiin seeraaf du’eeraatii. 20 Ani
Kiristoos wajjin fannifameera; si’achi Kiristoositu na keessa jiraata malee kan jiraatu

ana miti. Ani jireenya amma fooniin jiraadhu kana amantii Ilma Waaqaa isa na
jaallatee naaf jedhee of kennetti qabuun nan jiraadha. 21 Ani ayyaana Waaqaa gatii
hin dhabsiisu; utuu qajeelummaan karaa seeraatiin argamee Kiristoos akkanumaan
du'e jechuu dha kaa!"

# 3

### *Amantii Yookaan Seera Eeguu*

1 Yaa warra Galaatiyaa gowwoota! Eenyutu falfala isinitti hojjete? Yesuus Kiristoos
akka waan ijuma keessan duratti fannifameetti mul'ifamee hin turree? 2 Ani
waan tokko qofa isin irraa barachuu nan barbaada: Isin seera eeguun moo waan
dhageessan amanuun Hafuura Qulqulluu argattan? 3 Isin akkas gowwaadhaa?
Hafuura Qulqulluudhaan jalqabdanii amma immoo fooniin fixxuu ree? 4 Kun
dhugumaan iyyuu waan hin fayyadne taanaan isin waanuma hin fayyadneef
hammana dhiphattanii ree? 5 Wanni Waaqni Hafuura isaa isinii kennee hojii
dinqii gidduu keessanitti hojjetuuf sababii isin seera eegdaniif moo sababii isin
waan dhageessan amantaniif? 6 Akkasumas Abrahaam, "Waaqa amane; kunis
qajeelummaatti lakkaa'ameef."*

### *Muuxannoo Jireenya Abrahaam*

7 Kanaafuu warri amanan ijoollee Abrahaam akka ta'an hubadhaa. 8 Katabbiin
Qulqulluun akka Waaqni amantiin Namoota Ormaa qajeeltota taasisu duraan
dursee argee, "Sabni hundinuu karaa keetiin eebbifama"† jedhee duraan dursee
Abrahaamitti wangeela lallabe. 9 Kanaaf warri amantii qaban, Abrahaam nama
amantii sana wajjin eebbifaman.

### *Abaarsa Seeraa*

10 Warri seera eeguu isaanii abdatan hundinuu abaarsa jala jiru; "Namni waan
Kitaaba Seeraa keessatti barreeffame hundaaf itti fufee hin ajajamne kam iyyuu
abaaramaa dha"‡ jedhamee barreeffameeraatii. 11 Waan, "Namni qajeelaan aman-
tiidhaan jiraatuuf"§ akka eenyu iyyuu fuula Waaqaa duratti seeraan qajeelaa hin
taasifamne ifa. 12 Seerri amantii irratti hin hundeeffamne; inni garuu, "Namni waan
seerri ajaju godhu ittiin jiraata"* jedha. 13 Waan, "Namni muka irratti fannifamu
kam iyyuu abaaramaa dha"† jedhamee barreeffameef, Kiristoos nuuf jedhee abaarsa
ta'uudhaan abaarsa seeraa irraa nu fure. 14 Inni akka nu amantiin Hafuura Qulqulluu
waadaa kenname sana argannuuf, akka eebbi Abrahaamiif kenname sun karaa
Kiristoos Yesuusiin gara Namoota Ormaa dhufuuf nu fure.

### *Seeraa fi Waadaa*

15 Yaa obboloota, ani akka namaattin dubbadha. Kakuun namaa iyyuu erga yeroo
tokko mirkaneeffamee booddee eenyu iyyuu hin tuffatu yookaan itti hin dabalu.
16 Egaa Abrahaamii fi sanyii isaatiif waadaan galameera. Katabbiin Qulqulluun, akka
waan nama hedduuf dubbatameetti, "Sanyiiwwan" hin jedhu; garuu akka waan
nama tokkoof dubbatameetti, "Sanyii keetiif"‡ jedha; innis Kiristoos. 17 Wanni ani
jedhus kana: Seerri waggaa 430 booddee dhufe sun kakuu Waaqni duraan dursee
gale diigee akkasiin waadaa sana hin balleessu. 18 Dhaalli utuu karaa seeraatiin ta'ee
si'achi waadaadhaan hin ta'u ture; Waaqni garuu ayyaana isaatiin waadaadhaan
Abrahaamiif dhaala kenne.
19 Yoos seerri maaliif kenname ree? Seerri sababii yakka hamma Sanyiin waadaan
kennameef sun dhufutti tureetiif kenname. Seerri sunis karaa ergamootaatiin harka

* **3:6** 3:6 Uma 15:6 † **3:8** 3:8 Uma 12:3; 18:18; 22:18 ‡ **3:10** 3:10 KeD 27:26 § **3:11** 3:11 Anb 2:4 * **3:12** 3:12 Lew 18:5 † **3:13** 3:13 KeD 21:23 ‡ **3:16** 3:16 Uma 12:7; 13:15; 24:7

araarsaa gidduu galeessa tokkootiin hojii irra oolfame. [20] Ta'us araarsaan gidduu
galeessi tokko garee tokko qofaaf hin dhaabatu; Waaqni garuu tokkichuma.
[21] Kanaafuu seerri waadaa Waaqaatiin mormaa ree? Gonkumaa akkas miti! Utuu
seerri jireenya kennuu danda'u kennamee jiraatee silaa qajeelummaan dhugumaan
seeraan argama tureetii. [22] Katabbiin Qulqulluun garuu akka wanni karaa Yesuus
Kiristoositti amanuutiin waadaa galame sun warra amananiif kennamuuf waan
hundumaa cubbuu akka hidhamaa godhe labsa.

### *Ilmaan Waaqaa*

[23] Utuu amantiin hin dhufiniin dura hamma amantiin mul'ifamutti seera jalatti hid-
hamnee nutti cufamee turre. [24] Kanaafuu akka nu amantiin qajeeltota taasifamnuuf
Kiristoositti nu geessuuf seerri guddiftuu keenya ture. [25] Amma garuu waan amantiin
dhufeef nu si'achi guddiftuu jala hin jiraannu.
[26] Hundi keessan amantii Kiristoos Yesuusitti qabdaniin ijoollee Waaqaa ti; [27] isin
warri Kiristoositti cuuphamtan hundi Kiristoosin uffattaniirtuutii. [28] Yihuudii
yookaan Giriik, garba yookaan birmaduu, dhiira yookaan dubartii jechuun hin jiru;
hundi keessan Kiristoos Yesuusiin tokkumaatii. [29] Erga kan Kiristoos taatanii yoos
isin sanyii Abrahaam; akka waadaattis dhaaltota.

## 4

[1] Wanni ani jedhu kana; dhaaltuun yoo qabeenyi hundi kan isaa ta'e iyyuu inni
hamma daa'ima ta'ee jirutti garba irraa adda miti. [2] Inni hamma guyyaan abbaan
isaa murteesse sun ga'utti warra isa eeganii fi warra isa guddisan jala jira. [3] Nus
akkasuma bara daa'imman turretti garbummaa sirna addunyaa jala turre. [4] Yommuu
yeroon murteeffame sun ga'etti garuu Waaqni Ilma isaa isa dubartii irraa dhalate,
kan seera jalatti dhalate sana erge; [5] kunis akka nu mirga ilmummaa argannuuf
warra seera jala jiran furuuf. [6] Sababii isin ilmaan taataniifis Waaqni Hafuura Ilma
isaa kan, "*Aabbaa,* yaa Abbaa" jedhee waamu sana gara keessa garaa keenyaatti erge.
[7] Kanaaf ati si'achi ilma malee garba miti; erga ilma taatee immoo Waaqni dhaaltuu
si taasiseera.

### *Phaawulos Warra Galaatiyaatiif Yaaduu Isaa*

[8] Isin utuu Waaqa hin beekiniin dura, waaqota uumama isaaniitiin waaqota hin
ta'iniif garboomtanii turtan. [9] Amma garuu isin erga Waaqa beektanii, keessumattuu
erga Waaqa biratti beekamtanii booddee akkamitti gara sirnoota dadhaboo fi sirnoota
faayidaa hin qabneetti deebitu ree? Isin ammas isaaniif garboomuu barbaadduu?
[10] Isin guyyoota, ji'oota, waqtiilee fi waggoota addaa kabajju! [11] Ani akkasumaan
isinitti dadhabe jedheen isiniif sodaadha.

### *Garbummaa Seeraa Jalaa Ba'uu*

[12] Yaa obboloota, akkuma ani isin fakkaadhe, isinis akka na fakkaattan isin
kadhadha. Isin balleessaa tokko illee natti hin hojjenne. [13] Yeroo jalqabaatti akka
ani sababii dhukkubaatiin wangeela isinitti lallabe ni beektu; [14] yoo dhukkubni koo
qoramsa isinitti ta'e iyyuu, isin akka waan ani ergamaa Waaqaa ta'eetti, akka waan
ani Kiristoos Yesuus matuma isaa ta'eetti na simattan malee na hin tuffanne yookaan
na hin balfine. [15] Eebbi keessan sun hundi eessa jira? Utuu danda'amee ija keessan
illee akka of keessaa baaftanii naa kennuun fedhii keessan ture ani dhugaa ba'uu
nan danda'a. [16] Egaa ani waan dhugaa isinitti himeef diina keessan ta'ee ree?
[17] Namoonni sun ofitti isin deebisuuf hinaafu; garuu waan gaariif miti. Isaan akka
isin isaaniif hinaaftaniif nurraa gargar isin baasuu barbaadu. [18] Yeroo ani isin bira
jiru qofa utuu hin ta'in yeroo hundumaa kaayyoo gaariif hinaaffaa qabaachuun gaarii
dha. [19] Yaa ijoollee ko, ani hamma Kiristoos isin keessatti mul'atutti ammas isiniif

jedhee nan ciniinsifadha; [20] ani waa'ee keessaniif waan shakkii keessa jiruuf utuu
isin biratti argamee sagalee koo geeddaradhee akkam hawwan ture!

### *Aggaarii fi Saaraa*

[21] Warri seera jala jiraachuu barbaaddan mee natti himaa; isin waan seerri jedhu
hin dhageenyee? [22] "Abrahaam ilmaan lama qaba ture; tokko dubartii garbittii irraa,
kaan immoo dubartii birmaduu irraa dhalate" jedhamee barreeffameeraatii. [23] Ilmi
isaa inni dubartii garbittii irraa dhalate akka fedhii fooniitti dhalate; inni dubartii
birmaduu irraa dhalate immoo akka waadaatti dhalate.
[24] Kunis akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'a; dubartoonni kunneen kaku-
uwwan lamaan argisiisu. Kakuun tokko kan Tulluu Siinaa ti; kunis garbummaaf
ijoollee horti; isheenis Aggaar. [25] Egaa Aggaar akka Tulluu Siinaa isa biyya
Arabaa keessaa ti; isheenis magaalaa Yerusaalem ishee yeroo ammaatti fakkeeffamti;
magaalaan kun ijoollee ishee wajjin garbummaa keessa jirtiitii. [26] Yerusaalem isheen
samii irraa garuu birmaduu dha; isheenis haadha keenya. [27] Akkana jedhamee
barreeffameeraatii:

"Yaa dubartii dhabduu
kan ijoollee tokko illee hin da'in ati gammadi;
atis kan ciniinsifattee hin beekne
guddisiitii ililchi;
ijoollee dubartii dhirsa qabduu caalaa,
ijoolleen dubartii gatamtee ni baay'atu."*

[28] Yaa obboloota, isinis akkuma Yisihaaq ijoollee waadaa ti. [29] Yeroo sana ilmi
akka fedhii fooniitti dhalate sun ilma humna Hafuuraatiin dhalate ari'ate. Amma
illee akkasuma. [30] Garuu Katabbiin Qulqulluun maal jedha? "Garbittii sanaa fi
ilma ishee ari'i; ilmi garbittii sun ilma dubartittii birmaduu wajjin hin dhaaluutii"†
jedha. [31] Kanaafuu yaa obboloota, nu ilmaan dubartii birmaduu sanaati malee ilmaan
garbittii miti.

# 5

### *Bilisummaa Kiristoosiin Argamu*

[1] Akka bilisummaan jiraannuuf Kiristoos bilisa nu baase. Kanaafuu jabaadhaa
dhaabadhaa! Deebitaniis waanjoo garbummaatiin hin qabaminaa.
[2] Kunoo, dhagna yoo qabattan Kiristoos waan tokko akka isin hin fayyadne ani
Phaawulos isinitti nan hima. [3] Namni dhagna qabatu hundinuu akka guutummaatti
seera eeguun dirqama isaa ta'e ani amma illee nan mirkaneessaaf. [4] Isin
warri seeraan qajeeltota taasifamuu barbaaddan Kiristoos irraa gargar baataniirtu;
ayyaana irraas kuftaniirtu. [5] Nu garuu qajeelummaa abdannu sana karaa Hafuu-
raatiin hawwiidhaan amantiin eegganna. [6] Kiristoos Yesuusitti jiraannaan dhagna
qabachuun yookaan qabachuu baachuun faayidaa tokko illee hin qabuutii. Wanni
gatii qabu amantii jaalalaan of mul'isu qofa.
[7] Isin fiigicha gaarii fiigaa turtan. Eenyutu gufuu isinitti ta'ee dhugaadhaaf
ajajamuu isin dhowwe ree? [8] Sossobbiin akkasii isa isin waame sana biraa hin
dhufu. [9] "Raacitiin xinnoon bukoo guutuu ni bukeessa." [10] Ani akka isin yaada biraa
hin qabaanne karaa Gooftaatiin isin amanadha. Abbaa fedhe illee taanaan namni
isin jeequ murtii ni argata. [11] Yaa obboloota, ani amma iyyuu yoon dhagna qabaa
lallabaa jiraadhee ani amma iyyuu maaliifin ari'atama ree? Yoo akkas ta'ee immoo
fannoon gufuu ta'uun isaa ni hafa ture! [12] Warri isin jeeqan sun dhagna qabachuu
qofa utuu hin ta'in utuu of irraa muranii iyyuu nan hawwa!

---

* **4:27** 4:27 Isa 54:1 † **4:30** 4:30 Uma 21:10

### *Hafuuraan Jiraachuu*

13 Yaa obboloota ko, isin akka bilisa taataniif waamamtan. Jaalalaan wal tajaajilaa
malee bilisummaa keessan fedhii foonii guutuuf hin oolchinaa. 14 Seerri guutuun
ajaja tokkicha, “Ollaa kee akka ofii keetiitti jaalladhu”[*] jedhuun xumurameeraatii.
15 Garuu isin yoo wal ciniinuu fi wal nyaachuutti fuftan akka wal hin balleessineef
of eeggadhaa.

16 Kanaafuu ani, “Hafuuraan jiraadhaa; yoos hawwii foonii hin guuttaniitii” jedha.
17 Foon Hafuuraan ni mormaatii; Hafuurris fooniin ni morma. Isaan akka isin waan
hojjechuu barbaaddan hin hojjenneef wal mormu. 18 Isin garuu Hafuuraan yoo
geggeeffamtan seera jala hin jirtan.

19 Hojiiwwan fooniis beekamoo dha; isaanis halalummaa, xuraa’ummaa fi jireenya
gad dhiisii, 20 waaqota tolfamoo waaqeffachuu, falfala hojjechuu, jibba, aarii,
hinaaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, wal loluu, gargar ba’uu, 21 weennoo, machii,
addaggummaa fi kanneen kana fakkaatan. Ani akkuman kanaan dura godhe
sana akka warri waan akkanaa hojjetan mootummaa Waaqaa hin dhaalle isinin
akeekkachiisa.

22 Iji Hafuuraa garuu jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, arjummaa, gaarummaa,
amanamummaa, 23 garraamummaa fi of qabuu dha. Seerri waan akkanaa mormus
hin jiru. 24 Warri kan Kiristoos Yesuus ta’an immoo foon fedhii isaatii fi hawwii
isaa wajjin fannisaniiru. 25 Nu erga Hafuuraan jiraannee kottaa Hafuuraan haa
deddeebinu. 26 Kottaa of hin tuulluu; wal hin aarsinuu; walittis hin hinaafnuu.

## 6

### *Nama Hundumaaf Waan Gaarii Gochuu*

1 Yaa obboloota, yoo namni tokko cubbuu keessa seene, isin warri hafuuraan
jiraattan garraamummaan isa deebisuu qabdu. Garuu atis akka hin qoramneef of
eeggadhu. 2 Isin ba’aa walii baadhaa; akkasiin isin seera Kiristoos ni eegdu. 3 Namni
tokko utuu waan tokko iyyuu hin ta’in, waan waa tokko ta’e yoo of se’e, inni of
gowwoomsa. 4 Tokkoon tokkoon namaa hojii mataa isaa haa qoru. Ergasiis utuu
nama kaanitti of hin madaalin of qofa jajuu ni danda’a; 5 tokkoon tokkoon namaa
ba’aa ofii isaa baadhachuu qabaatii. 6 Namni dubbicha baratu kam iyyuu waan gaarii
hundumaa barsiisaa isaa wajjin haa qoodatu.

7 Hin gowwoominaa; Waaqaatti qoosuun hin danda’amu. Namni waanuma
facaafate haammataatii. 8 Namni foonitti facaasu foon irraa badiisa galfata; namni
Hafuuratti facaasu immoo Hafuura irraa jireenya bara baraa haammata. 9 Kottaa
waan gaarii hojjechuu hin dadhabnu; yoo abdii kutachuu baanne gaafa yeroon
isaa ga’e midhaan isaa ni haammannaatii. 10 Kanaaf kottaa, carraa qabnuun nama
hundaaf, keessumattuu warra maatii amantootaa ta’aniif waan gaarii goonaa.

### *Uumama Haaraa Ta’uu*

11 Akka ani harkuma kootiin qubee gurguddaa hammam ga’uun isinii barreesse
mee ilaalaa!

12 Warri fooniin gaarii ta’anii mul’achuu barbaadan akka isin dhagna qabattan isin
dirqisiisuu yaalu. Isaanis fannoo Kiristoosiif jedhanii akka hin ari’atamne qofaaf
waan kana godhu. 13 Warri dhagna qabatan mataan isaanii iyyuu seera hin eegan;
ta’us isaan dhagna qabaa keessan kan fooniitiin boonuuf jedhanii akka isin dhagna
qabattan barbaadu. 14 Fannoo Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos kan ittiin addunyaan
naaf fannifame, kan anis ittiin addunyaaf fannifame sana malee waan biraatiin of

---

[*] **5:14** 5:14 Lew 19:18

jajuun narraa haa fagaatu. 15 Uumama haaraa ta'uutu faayidaa qaba malee dhagna
qabachuun yookaan qabachuu baachuun faayidaa hin qabu. 16 Nagaa fi araarri warra
seera kana duukaa bu'an hundaaf, Israa'el Waaqaatiifis haa ta'u.

17 Ani dhagna koo irraa godaannisa Yesuus qabaatii si'achi namni tokko iyyuu na hin rakkisin.

18 Yaa obboloota, ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hafuura keessan wajjin haa ta'u. Ameen.

# Efesoon

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos isa fedhii Waaqaatiin ergamaa Kiristoos Yesuus ta’e irraa,

Gara qulqulloota Efesoon jiraatan kanneen Kiristoos Yesuusitti amanamoo ta’anitti:

2 Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nagaan isiniif
haa ta’u.

*Galata Sababii Eebba Kiristoosiin Argamuu*

3 Waaqnii fi Abbaan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos inni Kiristoosiin eebba
hafuuraa hundumaan samii irratti nu eebbise sun haa eebbifamu. 4 Inni nu fuula
isaa duratti qulqullootaa fi warra mudaa hin qabne akka taanuuf utuu addunyaan hin
uumaminiin dura isaan nu filateeraatii. Jaalalaanis 5 akka kaayyoo fedhii isaatti akka
nu karaa Yesuus Kiristoosiin ilmaan isaa taanuuf duraan dursee nu murteesse; 6 kunis
akka ulfinni ayyaana isaa kan inni Ilma isaa jaallatamaa sanaan toluma nuu kenne
sun jajamuuf. 7 Nus isumaan akkuma badhaadhummaa ayyaana Waaqaatti dhiiga
isaatiin furama jechuunis, dhiifama cubbuu arganneerra; 8 ayyaana isaas ogummaa
fi hubannaa hunda wajjin nuu baay’ise. 9 Innis akka nu icciitii fedhii isaa kan akka
yaada isaa isa gaarii inni karaa Kiristoosiin karoorfate sana beeknu godhe; 10 yaadni
isaas yeroo barri murtaa’e sun guutuutti wantoota samii keessaa fi lafa irra jiran
hunda Kiristoos jalatti walitti qabuuf jedhee ti.
11 Nus akkuma karoora isa waan hundumaa akka kaayyoo fedhii isaatti hojjetu
sanaatti duraan dursee waan murteeffamneef Kiristoosiin dhaala arganneerra;
12 kunis akka nu warri Kiristoosin abdachuutti kanneen jalqabaa taane galata
ulfina isaa taanuuf. 13 Isinis dubbii dhugaa jechuunis wangeela fayyina keessanii
dhageessanii Kiristoositti amantanii, Hafuura Qulqulluu waadaa galame sanaan
chaappeffamtan; 14 innis warri kan Waaqayyoo ta’an galata ulfina isaatiif yeroo
furamanitti wanta nu argachuuf jirruuf qabdii keenya.

*Galateeffachuu fi Kadhachuu*

15 Kanaafuu ani waa’ee amantii isin Gooftaa Yesuusitti qabdanii fi jaalala isin
qulqulloota hundaaf qabdanii dhaga’ee 16 kadhannaa koo keessatti isin yaadachaa
waa’ee keessaniif galateeffachuu hin dhiifne. 17 Waaqni Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoos, Abbaan ulfinaa, akka isin guutummaatti isa beektaniif Hafuura ogummaa
fi mul’ataa akka isinii kennu nan kadhadha. 18 Abdiin inni itti isin waame maal
akka ta’e, badhaadhummaan dhaala qulqullootaa ulfina qabeessi maal akka ta’e akka
beektaniif iji qalbii keessanii akka isinii banamu Waaqa nan kadhadha; 19 akkasumas
humni isaa inni nu warra amannu keessatti hojjetu hammam guddaa akka ta’e akka
beektaniifis nan kadhadha. Humni sunis akkuma jabina guddaa 20 kan inni ittiin
Kiristoosin warra du’an keessaa kaasee samii irratti mirga ofii teessise sana mul’isee
dha; 21 isas ol aantummaa, taayitaa, humna, gooftummaa hundaa fi bara ammaa qofa
utuu hin ta’in bara dhufuuf jiru keessa illee maqaa kennamu hundaa olitti mirga
ofii teessise. 22 Waaqnis waan hunda miilla isaa jala galche; waldaa kiristaanaatiifis
mataa waan hundaa godhee isa kenne; 23 waldaan kiristaanaa dhagna isaa ti; isheenis
guutama isaa kan inni waan hunda karaa hundaan guutuu dha.

# 2

### *Kiristoosiin Jireenya Argachuu*

[1] Isin irra daddarbaa keessanii fi cubbuu keessaniin duutanii turtan; [2] kunis isuma
isin yeroo jireenya addunyaa kanaatii fi bulchaa mootummaa qilleensaa jechuunis
hafuura amma iyyuu warra hin ajajamne keessatti hojjetu duukaa buutanitti keessa
jiraachaa turtanii dha. [3] Hundi keenyas yeroo tokko dharraa foon keenyaa guutaa,
hawwii fi yaada isaa duukaa bu'aa isaan gidduu jiraanne. Uumama keenyaanis
akkuma warra kaanii dheekkamsa jala turre. [4] Garuu Waaqni araaraan guutame
sun sababii jaalala guddaa nuu qabuuf, [5] yeroo nu irra daddarbaa keenyaan duunee
turretti illee Kiristoos wajjin jiraattota nu taasise; isinis ayyaanaan fayyina argattan.
[6] Waaqnis Kiristoos wajjin du'aa nu kaase; karaa Kiristoos Yesuusiinis isa wajjin iddoo
samii irra nu teessise; [7] innis bara dhufuuf jiru keessa badhaadhummaa ayyaana isaa
kan gita hin qabne sana arjummaa karaa Kiristoos Yesuusiin nuuf qabu argisiisuuf
jedhee waan kana godhe. [8] Isinis ayyaanaan karaa amantiitiin fayyitaniirtuutii;
kunis kennaa Waaqaati malee hojii ofii keessanii miti; [9] akka namni tokko iyyuu
of hin jajneefis kun hojiidhaan miti. [10] Nu hojii harka isaatii; hojii gaarii Waaqni
duraan dursee akka nu hojjennuuf qopheesse sana akka hojjennuufis karaa Kiristoos
Yesuusiin uumamne.

### *Kiristoosiin Tokko Ta'uu*

[11] Kanaaf isin warri durumaa dhalootaan Namoota Ormaa taatan akka warra
dhagna qabaa harka namaatiin dhagna namaa irratti hojjetamuun, "Nu warra
dhagna qabatee dha" ofiin jedhan biratti "Warra dhagna hin qabatin" jedhamtanii
waamamtan sana yaadadhaa; [12] isin akka yeroo sana Kiristoos irraa cittanii,
lammummaa Israa'el keessaa baafamtanii, kakuu waadaatiifis keessumoota taatanii,
abdii malee, Waaqa malees addunyaa keessa turtan yaadadhaa. [13] Amma
garuu isin warri yeroo tokko fagoo turtan Kiristoos Yesuusiin dhiiga Kiristoosiin
dhi'eeffamtaniirtu.
[14] Kiristoos nagaa keenyaatii; innis dallaa diinummaa kan gargar baasu sana
diigee jara lamaanuu tokko godheera; [15] inni foon ofiitiin seera ajajaa fi sirna isaa
wajjin diigeera. Kaayyoon isaas jara lamaan keessaa ofuma isaatiin nama haaraa
tokko uumee akkasiin nagaa buusuudhaan [16] fannoo ittiin diinummaa isaanii ajjeese
sanaan lamaan isaanii iyyuu dhagna tokko godhee Waaqatti araarse. [17] Innis dhufee
isin warra fagoo turtanitti nagaa, warra dhi'oo turanittis nagaa lallabe. [18] Nu
lamaanuu karaa isaatiin Hafuura tokkicha sanaan akka itti Abbaa bira geenyu
qabnaatii.
[19] Kanaafuu isin si'achi saba Waaqaa wajjin lammii fi miseensota warra mana
Waaqaa jiraataniiti malee ormaa fi alagoota miti; [20] isin hundee ergamootaa fi
raajotaa irratti ijaaramtaniirtu; Kiristoos Yesuus ofii isaatii mataa dhagaa golee ti.
[21] Karaa isaas ijaarsi sun guutuun tokkummaan wal qabatee mana qulqullummaa
qulqulluu ta'uuf Gooftaadhaan guddata. [22] Isinis isumaan mana Waaqni Hafuura
isaatiin keessa jiraatu taatanii tokkummaadhaan ijaaramaa jirtu.

# 3

### *Karoora Gaarii Waaqni Namoota Ormaatiif Qabu*

[1] Sababii kanaaf ani Phaawulos isin Namoota Ormaatiif jedhee hidhamaa Kiristoos
Yesuus ta'eera.
[2] Isin dhugumaan waa'ee hojii ayyaana Waaqaa kan isiniif jedhamee natti kenname
sanaa dhageessaniirtu; [3] kunis akkuma ani kanaan dura gabaabsee isinii barreessetti
icciitii mul'ataatiin natti beeksifame. [4] Isin yommuu waan kana dubbiftanitti akka ani
waa'ee icciitii Kiristoos beekumsa qabu hubachuu ni dandeessu; [5] icciitiin kunis akka

amma Hafuuraan ergamootaa fi raajota qulqulloota Waaqaatti mul’ifametti dhaloota
kaanitti hin beeksifamne. 6 Icciitiin kunis Namoonni Ormaa karaa wangeelaatiin saba
Israa’el wajjin dhaaltota, isaanuma wajjin dhagna tokko, waadaa Kiristoos Yesuusiin
kenname keessatti immoo hirmaattota ta’uu isaanii ti.
7 Anis kennaa ayyaana Waaqaa kan karaa hojii humna isaatiin naa kennameen
tajaajilaa wangeela kanaa ta’eera. 8 Ani qulqulloota hundaa gad ta’u iyyuu akka
badhaadhummaa Kiristoos kan qoramee bira hin ga’amne sana Namoota Ormaatti
lallabuuf ayyaanni kun naa kennameera; 9 akkasumas icciitiin bara dheeraaf Waaqa
waan hunda uumeen dhokfamee ture kun maal akka ta’e ani namoota hundaaf
akka ibsuuf. 10 Kaayyoon isaas akka ogummaan Waaqaa inni dachaa hedduu qabu
sun amma karaa waldaa kiristaanaatiin bulchitootaa fi abbootii taayitaa kanneen
samii irra jiranitti beeksifamuuf; 11 kunis akkuma kaayyoo isaa kan bara baraa kan
inni karaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin raawwate sanaatti ture. 12 Nus isaan,
amantii isa irratti qabnuun, ija jabinaa fi amanachuudhaan Waaqatti dhi’aachuu
dandeenya. 13 Kanaafuu sababii ani isiniif dhiphachaa jiruuf jettanii akka abdii hin
kutanne isin kadhadha; dhiphachuun koo ulfinuma keessan.

### *Kadhannaa Warra Efesooniif Kadhatame*

14 Sababii kanaaf ani fuula Abbaa duratti nan jilbeenfadha; 15 maatiin isaa warri
samii irraa fi warri lafa irraa hundinuu maqaa isaanii isa irraa argatu. 16 Inni akkuma
badhaadhummaa ulfina isaatti karaa Hafuura isaatiin namummaa keessan kan
keessaa humnaan akka cimsuuf nan kadhadha; 17 akka Kiristoosis karaa amantiitiin
garaa keessan keessa jiraatuuf nan kadhadha. Akka isin hidda gad fageeffattanii
jaalalaan dhaabattaniifis nan kadhadha; 18 isinis jaalalli Kiristoos hammam akka
bal’atu, hammam akka dheeratu, hammam akka ol fagaatuu fi hammam akka gad
fagaatu qulqulloota hunda wajjin hubachuudhaaf akka humna qabaattaniif, 19 akka
guutama Waaqaa hundaan guutamtaniifis jaalala Kiristoos kan beekumsaa ol ta’e
sana akka beektaniif nan kadhadha.
20 Waaqa isa humna isaa kan nu keessatti hojjetu sanaan hamma nu kadhannu
yookaan hamma nu yaadnu hundumaa olitti akka malee hojjechuu danda’u sanaaf,
21 waldaa kiristaanaa keessatti, dhaloota hunda keessattis karaa Kiristoos Yesuusiin
bara baraa hamma bara baraatti ulfinni isaaf haa ta’u! Ameen.

# 4

### *Dhagna Kiristoos Keessatti Tokko Ta’uu*

1 Kanaafuu ani kan Gooftaaf jedhee hidhame, isin waamicha itti waamamtan sanaaf
akka malutti akka jiraattan isin nan kadhadha. 2 Guutumaan guutuutti gad of qabaa;
garraamota ta’aa; obsa qabaadhaa; jaalalaanis wal danda’aa. 3 Hidhaa nagaatiin
tokkummaa Hafuuraa eeguuf carraaqaa. 4 Akkuma yeroo waamamtanitti gara abdii
tokkootti waamamtan sana, dhagna tokkoo fi Hafuura tokkotu jira; 5 Gooftaa tokko,
amantii tokkoo fi cuuphaa tokkotu jira; 6 Waaqaa fi Abbaan waan hundaa, inni waan
hundaa ol ta’e, kan waan hunda keessatti hojjetuu fi kan waan hunda keessa jiru
tokkichatu jira.
7 Garuu akkuma safara kennaa Kiristoositti tokkoo tokkoo keenyaaf ayyaanni
kennameera. 8 Kanaafuu,
“Inni yommuu ol gubbaa ba’etti,
boojuu booji’e;
namootaafis kennaa kenne”* jedha.
9 Egaa, “Inni ol ba’e” jechuun isaa dhidhima lafaatti gad bu’e jechuu malee maal
jechuu isaa ti? 10 Inni gad bu’e sun isuma waan hunda guutuuf jedhee samiiwwan

* **4:8** 4:8 Far 68:18

hundaa olitti ol ba’ee dha. 11 Innis namoota tokko tokko ergamoota, kaan raajota,
kaan lallabdoota wangeelaa, kaan immoo tiksootaa fi barsiistota taasisee kenne;
12 waan kanas akka dhagni Kiristoos ijaaramuuf qulqulloota hojii tajaajilaatiif
qopheessuuf jedhee godhe; 13 kunis waan hamma hundi keenya tokkummaa
amantiitii fi tokkummaa Ilma Waaqaa beekuu bira geenyutti, akka guddannee
sadarkaa guutama Kiristoos bira ga’uudhaan namoota bilchaatoo taanuuf.
14 Egaa nu si’achi duraa duubatti dadarbatamaa bubbee barsiisa gosa hundaatiin,
haxxummaa fi jal’ina marii gowwoomsitootaatiin asii fi achi oofamaa daa’imman hin
taanu. 15 Qooda kanaa jaalalaan dhugaa dubbachaa gara isa mataa ta’e sanaatti waan
hundaan ni guddanna; innis Kiristoos. 16 Isumaanis kutaaleen dhagnaa guutuun
ribuu walitti isaan qabuun hidhamaniiru; yommuu kutaaleen dhagnaa sun hundi
hojii isaanii hojjetanittis dhagni sun jaalalaan guddatee of ijaara.

### *Akka Ijoollee Ifaatti Jiraachuu*

17 Kanaafuu ani waan kana isinitti nan hima; maqaa Gooftaatiinis jabeessee isinitti
nan dubbadha; isin si’achi akka Namoonni Ormaa warri yaadni isaanii faayidaa
hin qabne sun jiraatanitti hin jiraatinaa. 18 Sababii mata jabina isaaniitiinis waan
wallaalummaan isaan keessa jiruuf hubannaan isaanii dukkaneeffameera; jireenya
Waaqaa keessaas ba’aniiru. 19 Isaanis waan qalbiin isaanii hadoodeef hamma
xuraa’ummaa gosa hundaa keessa galanitti sassattummaan guutaman.
20 Isin garuu akkasitti Kiristoosin hin barre; 21 isin dhugumaan akkuma dhugaa
Yesuus keessa jiru sanaatti waa’ee Kiristoos dhageessanii isumaanis barsiifamtani-
irtu. 22 Haala jireenya keessan kan durii, eenyummaa keessan moofaa hawwii
gowwoomsaa isaatiin xuraa’e sana dhabamsiisaa; 23 hafuura yaada keessaniitiinis
haaromfamaa; 24 namummaa haaraa isa qajeelummaa fi qulqullina dhugaatiin
fakkeenya Waaqaatiin uumame sana uffadhaa.
25 Kanaafuu waan nu hundi miseensa walii taaneef tokkoon tokkoon keessan soba
of keessaa baastanii ollaa keessanitti dhugaa dubbachuu qabdu. 26 “Aaraa malee
cubbuu hin hojjetinaa;”† utuma aartanii jirtaniis aduun hin lixin; 27 diiyaabiloosiifis
carraa hin kenninaa. 28 Namni kanaan dura hataa ture si’achi hin hatin; qooda kanaa
akka warra rakkatan gargaaruu danda’uuf harkuma ofii isaatiin waan faayidaa qabu
haa hojjetu.
29 Waan nama ijaaruuf gargaaru, akkuma barbaachisaa ta’ettis waan warra dhagge-
effataniif ayyaana kennu malee dubbiin hamaan tokko iyyuu afaan keessanii hin
ba’in. 30 Hafuura Qulqulluu Waaqaa kan guyyaa furamaatiif ittiin chaappeffamtan
sana hin gaddisiisinaa. 31 Hadhaa’ummaan, dheekkamsii fi aariin, wacnii fi maqaa
nama balleessuun hundinuu hammina hundumaa wajjin isin irraa haa fagaatu.
32 Akkuma Waaqni karaa Kiristoosiin dhiifama isinii godhe sana, isinis dhiifama walii
godhaa; walii na’aa; garaas walii laafaa.

# 5

1 Kanaaf akkuma ijoollee jaallatamootti fakkeenya Waaqaa duukaa bu’aa; 2 akkuma
Kiristoos nu jaallatee nuufis jedhee akka aarsaa fi qalma urgaa’uutti Waaqaaf of
kenne sana isinis jaalalaan deddeebi’aa.
3 Garuu waa’een halalummaa yookaan xuraa’ummaa gosa kamii iyyuu yookaan
waa’een doqnummaa gidduu keessanitti hin dhaga’amin; wanni akkasii qulqulloota
Waaqaa biratti hin barbaachisuutii. 4 Galateeffachuu malee haasaan qaanii yookaan
dubbiin gowwummaa kan faayidaa hin qabne yookaan qoosaan namatti hin tolle
isin gidduu hin jiraatin. 5 Halaleen yookaan xuraa’aan yookaan sassattuun jechuunis
kan Waaqa tolfamaa waaqeffatu mootummaa Kiristoosii fi kan Waaqaa keessaa

† **4:26** 4:26 Far 4:4

akka dhaala tokko illee hin qabne beekaa. 6 Namni tokko iyyuu dubbii faayidaa
hin qabneen isin hin gowwoomsin; sababii waan akkanaatiif dheekkamsi Waaqaa
warra hin ajajamnetti ni dhufaatii. 7 Kanaafuu isin waan isaan hojjetan keessatti hin
hirmaatinaa.
8 Isin dur dukkana turtaniitii; amma garuu Gooftaadhaan ifa taataniirtu. Akka
ijoollee ifaatti jiraadhaa; 9 iji ifaa gaarummaa, qajeelummaa fi dhugaa hunda keessatti
argamaatii; 10 waan Gooftaa gammachiisu qoradhaa bira ga'aa. 11 Hojii dukkanaa
kan ija hin qabne saaxilaa malee irratti hin hirmaatinaa. 12 Waan isaan icciitiin
hojjetan dubbachuun iyyuu qaaniidhaatii. 13 Wanni ifni sun saaxilu hundinuu garuu
ni mul'ata; 14 kanaafis,
"Ati yaa isa raftu, dammaqi;
warra du'an keessaas ka'i;
Kiristoos siif ibsaatii" jedhameera.
15 Egaa isin akkamitti akka jiraattan jabeessaa of eeggadhaa! Akka ogeeyyi-
itti jiraadhaa malee akka warra ogeeyyii hin ta'iniitti hin jiraatinaa; 16 waan
guyyoonni kunneen hamoo ta'aniif baricha furaa. 17 Kanaafuu fedhiin Gooftaa
maal akka ta'e hubadhaa malee gowwaa hin ta'inaa. 18 Daadhii wayiniitiin
hin machaa'inaa; kun jireenya gad dhiisiitti geessaatii. Qooda kanaa Hafuuraan
guutamaa; 19 faarfannaadhaan, weedduu galataatii fi faarfannaa Hafuuraatiin wal
jalaa qabaa. Garaa keessan keessatti Gooftaaf faarfadhaatii muuziiqaa dhageessisaa;
20 yeroo hundas waan hundaaf maqaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin Waaqa
Abbaa galateeffadhaa.

### *Qajeelfama Maatiin Kiristaanaa Ittiin Jiraatu*
*5:22–6:9 kwf – Qol 3:18–4:1*

21 Sodaa Kiristoosiif qabdaniin waliif ajajamaa.
22 Yaa niitota, akkuma Gooftaaf ajajamtanitti dhirsoota keessaniif ajajamaa.
23 Akkuma Kiristoos waldaa kiristaanaatiif mataa ta'e sana dhirsi niitiif mataadhaatii;
Kiristoos Fayyisaa waldaa kiristaanaa ti; waldaan kiristaanaa immoo dhagna isaa ti.
24 Egaa akkuma waldaan kiristaanaa Kiristoosiif ajajamtu, niitonnis waan hundaan
dhirsoota isaaniitiif haa ajajaman.
25 Yaa dhirsoota, akkuma Kiristoos waldaa kiristaanaa jaallatee isheef of kenne
sana isinis niitota keessan jaalladhaa; 26 innis karaa dubbii isaatiin bishaaniin
ishee dhiqee qulleessee akka isheen qulqulluu taatuuf, 27 waldaa kiristaanaa ulfina
qabeettii, mudaa yookaan suntuura yookaan waan akkanaa tokko illee hin qabnee
garuu qulqullooftuu mudaa hin qabne godhee ofitti ishee dhi'eessuuf waan kana
godhe. 28 Akkasuma immoo dhirsoonni niitota isaanii akkuma dhagna ofii isaaniitti
jaallachuu qabu. Namni niitii ofii jaallatu of jaallata. 29 Akkuma Kiristoos waldaa
kiristaanaatiif godhu sana namni kam iyyuu foon ofii ni soora; ni kunuunsas malee
foon ofii hin jibbu; 30 nu kutaalee dhagna isaatii. 31 "Sababii kanaaf namni abbaa
fi haadha isaa dhiisee niitii isaatti ni maxxana; lamaan isaanii iyyuu foon tokko ni
ta'u."* 32 Kun icciitii guddaa dha; ani garuu waa'ee Kiristoosii fi waa'ee waldaa
kiristaanaa dubbadha. 33 Ta'us isin keessaa tokkoon tokkoon namaa akkuma of
jaallatutti niitii ofii haa jaallatu; niitiinis dhirsa ofii haa kabajju.

## 6

### *Ijoollee fi Warra Isaanii*

1 Yaa ijoolle, Gooftaaf jedhaatii abbootii fi haadhota keessaniif ajajamaa; kun
qajeelaadhaatii. 2 Ajajni jalqabaa kan waadaa qabu, "Abbaa keetii fi haadha

---

* **5:31** 5:31 Uma 2:24

keetiif ulfina kenni” jedha; 3 kunis, “Akka sitti toluu fi akka lafa irra bara dheeraa
jiraattuuf.”*

4 Yaa abbootii, isinis ijoollee keessan barsiisaa fi gorsa Gooftaatiin guddisaa malee
hin aarsinaa.

### *Garbootaa fi Gooftota*

5 Yaa garboota, akkuma Kiristoosiif ajajamtanitti kabajaa fi sodaadhaan, garaa
qulqulluunis gooftota keessan warra addunyaa kanaatiif ajajamaa. 6 Yeroo iji isaanii
isin argutti isaan biratti fudhatama argachuu qofaaf utuu hin ta’in garaa guutuun
fedhii Waaqaa raawwachaa akka garboota Kiristoositti isaaniif ajajamaa. 7 Akka
waan nama tajaajiltaniitti utuu hin ta’in akka waan Gooftaa tajaajiltaniitti garaa
guutuun hojjedhaa; 8 sababiin isaas isin akka Gooftaan tokkoo tokkoo namaatiif
garbas ta’u yookaan birmaduu, waan gaarii inni hojjetu kamiif iyyuu gatii kennu
ni beektu.

9 Yaa gooftota, isinis garboota keessaniif akkasuma godhaa. Isin akka inni isaanii
fi isiniif Gooftaa ta’e sun samii irra jiruu fi akka nama wal caalchisuunis isa bira hin
jirre waan beektaniif isaan hin doorsisinaa.

### *Mi’a Lolaa Kan Waaqaa*

10 Kanaa achi Gooftaa fi humna isaa jabaa sanaan cimaa. 11 Haxxummaa
diiyaabiloosiin akka mormuu dandeessaniif mi’a lolaa kan Waaqaa guutuu hidhad-
haa. 12 Wal’aansoon keenya bulchitoota wajjin, abbootii taayitaa wajjin, humnoota
addunyaa dukkanaa kanaa fi humnoota hafuura hamaa iddoo samii keessa jiruu
wajjin malee foonii fi dhiiga wajjin mitii. 13 Kanaafuu akka yommuu guyyaan hamaan
sun dhufutti obsaan dhaabachuu dandeessaniif, waan kana hunda gochuunis akka
jabaattanii dhaabattaniif mi’a lolaa kan Waaqaa guutuu hidhadhaa. 14 Egaa
mudhii keessan dhugaan hidhadhaatii, qomee sibiilaa kan qajeelummaas uffadhaatii
jabaadhaa dhaabadhaa; 15 qophaa’ummaa wangeela nagaa akka kopheetti miilla
keessanitti kaa’adhaa dhaabadhaa. 16 Kana hundumaa irrattis gaachana amantii kan
xiyya boba’aa hamaa sanaa hunda ittiin dhaamsuu dandeessan qabadhaa. 17 Qoobii
sibiilaa kan fayyinaa kaa’adhaa; goraadee Hafuuraas qabadhaa; innis dubbii Waaqaa
ti.

18 Kadhannaa fi waammata gosa hundaa keessatti yeroo hunda Hafuuraan
kadhadhaa. Kanas yaadatti qabachaa yeroo hunda dammaqaatii qulqulloota
hundaaf jabaadhaa kadhadhaa. 19 Yommuun afaan saaqqadhu hunda ija jabinaan
icciitii wangeelaa akkan beeksisuuf dubbiin akka naa kennamu anaafis kadhadhaa;
20 wangeelli kunis isuma ani isaaf jedhee ergamaa ta’ee foncaan hidhamee dha.
Isinis akka ani akkuma narraa eegamutti sodaa malee isa lallabuu danda’uuf naa
kadhadhaa.

### *Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

21 Xikiqoos obboleessi jaallatamaan, Gooftaattis tajaajilaan amanamaan haala ani
keessa jiruu fi maal akka ani hojjechaa jiru akka beektaniif waan hundumaa isinitti
hima. 22 Anis akka isin haala nu keessa jirru beektanii fi akka inni isin jajjabeessuuf,
waanuma kanaaf jedhee ani gara keessanitti isa ergeera.

23 Waaqa Abbaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa nagaan, jaalallis amantii wajjin
obboloota hundaaf haa ta’u.

* **6:3** 6:3 KeD 5:16

24 Warra jaalala hin badneen Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosin jaallatan hundaaf ayyaanni haa ta’u.

# Fiiliphisiyuus

*Nagaa Gaafachuu*
1 Phaawulosii fi Xiimotewos tajaajiltoota Kiristoos Yesuus irraa,

Gara warra karaa Kiristoos Yesuusiin qulqulloota ta’an kanneen Phaaphaasotaa fi
daaqonoota wajjin Fiiliphisiyuus keessa jiraatan hundaatti:

2 Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa biraa ayyaannii fi nagaan isiniif
haa ta’u.

*Galataa Fi Kadhannaa*
3 Ani yeroo isin yaadadhu hunda Waaqa koo nan galateeffadha. 4 Ani kadhannaa
hunda keessaniif kadhadhu keessatti yeroo hunda gammachuun nan kadhadha; 5 isin
guyyaa jalqabaatii hamma ammaatti wangeela lallabuu keessatti hirmaattaniirtuutii;
6 inni hojii gaarii isin keessatti jalqabe sun hamma guyyaa Kiristoos Yesuusitti akka
raawwatu nan amana.
7 Waan isin garaa koo keessa jirtaniif ani waa’ee hunda keessanii akkanatti
yaaduun koo anaaf sirrii dha; hidhamuu koo keessattis ta’u yookaan wangeelaaf
falmuu kootii fi akka wangeelli cimee dhaabatu gochuu koo keessatti hundi keessan
na wajjin ayyaana Waaqaa keessatti hirmaatuutii. 8 Akka ani jaalala Kiristoos
Yesuusiin hammam hunda keessan yaadu Waaqayyo dhuga baatu koo ti.
9 Kadhannaan koo kanaa dha: kunis akka jaalalli keessan beekumsaa fi hubannaa
hundaan ittuma fufee baay’atu, 10 akka isin isa waan hundumaa caalu addaan
baaftanii beekuu dandeessanii fi akka isin hamma guyyaa Kiristoosittis qulqullootaa
fi warra mudaa hin qabne taataniif, 11 akka ulfinaa fi galata Waaqaatiifis iji qajeelinaa
kan karaa Yesuus Kiristoosiin argamuun guutamtaniif.

*Hidhamuun Phaawulos Wangeela Babal’ise*
12 Yaa obboloota, wanti narra ga’e kun dhugumaan wangeela babal’isuuf gargaaruu
isaa akka beektan nan barbaada. 13 Kanaanis Kiristoosiif jedhee hidhamuun koo
guutummaa masaraatii fi namoota kaan hunda biratti beekameera. 14 Sababii ani
hidhameefis obboloota keessaa garri caalaan Gooftaa amanatanii, dubbii Waaqaa
sodaa malee dubbachuuf ija jabina guddaa argataniiru.
15 Namoonni tokko tokko dhugumaan weennoo fi morkiidhaan Kiristoosin lallabu;
warri kaan garuu yaada gaariidhaan lallabu. 16 Warri yaada gaariidhaan lallaban
kunneen, akka ani wangeelaaf falmuuf jedhee as kaa’ame beekanii jaalalaan lallabu.
17 Warri weennoo fi morkiidhaan lallaban immoo utuu garaa qulqulluun hin
ta’in, mana hidhaa keessatti rakkina natti cimsuuf jedhanii fedhii ofittummaatiin
Kiristoosin lallabu. 18 Yoos wanni kun maal qaba ree? Wanni barbaachisaan
fakkeessuunis ta’u yookaan dhugaan karaa kam iyyuu Kiristoos lallabamuu isaa ti.
Sababii kanaaf ani akka malee nan gammada.
Eeyyee ani ittuma fufee nan gammada; 19 akka wanni narra ga’e kun karaa kad-
hannaa keessaniitii fi karaa gargaarsa Hafuura Yesuus Kiristoosiin gara furamaatti
naa geeddaramu nan beekaatii. 20 Ani akkuma yeroo kaanii ammas jireenyaanis ta’u
yookaan du’aan ija jabinaan dubbachuun koo akka Kiristoos dhagna koo keessatti
ulfina argatuuf malee karaa kamiin iyyuu akka hin qaanofneef baay’isee nan hawwa;
nan abdadhas. 21 Anaaf jiraachuun Kiristoos; du’uunis bu’aa dha. 22 Ani yoo fooniin

jiraadhe kun anaaf hojii bu'a qabeessa; garuu maalan filadha? Ani hin beeku!
23 Ani yaada kana lamaan gidduutti rarra'eera; ani deemee Kiristoos wajjin jiraachuu
nan hawwa; kun waan hunda caalaatii; 24 isiniif garuu fooniin turuun koo caalaa
barbaachisaa dha. 25 Anis kana amanadhee akka isin amantiin guddattanii fi akka
isin gammaddaniif hunda keessan bira akka turu, isin wajjinis akka jiraadhun beeka.
26 Kunis ani ammas isin biratti argamuu kootiin of jajuun isin Kiristoos Yesuusitti
qabdan sababii kootiin akka baay'atuuf.

### *Jireenya Wangeelaaf Malu Jiraachuu*

27 Waan fedhe iyyuu ta'u akka wangeela Kiristoosiif malutti jiraadhaa. Yoos ani
dhufee isin arguunis ta'u yookaan fagoo taa'ee waa'ee keessan dhaga'uu qofaan, akka
isin amantii wangeelaatiif jettanii akkuma nama tokkootti tattaaffachuun hafuura
tokkoon jabaattanii dhaabattan nan beeka. 28 Isin waanuma tokkoon illee mormitoota
keessaniin hin raafaminaa. Kun isaaniif mallattoo badiisaa ti; isiniif immoo mallattoo
fayyinaa ti; kunis hojii Waaqaa ti. 29 Isin akka Kiristoositti amantan qofa utuu hin
ta'in akka isaaf jettanii dhiphattaniifis kun isaaf jechaa isinii kennameeraatii; 30 kunis
wal'aansoo ani keessa ture isa argitan sanaa fi isa ani amma iyyuu keessa jiru kan
dhageessan kana keessa darbuutti waan jirtaniifii dha.

## 2

### *Gad Of qabuu Kiristoos Duukaa Bu'uu*

1 Kanaafuu gorsa Kiristoosiin qabdan kam iyyuu taanaan, jaalalaan wal jaj-
jabeessuu kam iyyuu taanaan, tokkummaa Hafuuraa kam iyyuu taanaan, araaraa fi
gara laafina kam iyyuu taanaan, 2 gammachuu koo naa guutaa; yaadaan tokko ta'aa;
jaalala tokko qabaadhaa; hafuuraa fi kaayyoon tokko ta'aa. 3 Isin gad of qabuudhaan
akka waan warri kaan isin caalaniitti ilaalaa malee fedhii ofittummaatiin yookaan
of tuulummaatiin waanuma tokko illee hin hojjetinaa. 4 Tokkoon tokkoon keessan
waan warra kaaniifis ta'u malee waan isin qofaaf ta'u hin ilaalinaa.
5 Yaadni Kiristoos Yesuus keessa ture sun, isin keessas haa jiraatu.
6 Inni utuma bifa Waaqaatiin jiruu,
wal qixxummaa Waaqa wajjin qabu
akka waan irraa fudhatameetti hin lakkoofne;
7 qooda kanaa inni bifa garbaa uffatee
fakkaattii namaa fudhachuudhaan duwwaa of godhe.
8 Bifa namaa uffatee argamuudhaanis,
gad of deebise;
du'aaf jechuunis du'a fannoo irraatiif iyyuu ni ajajame!

9 Kanaafuu Waaqni akka malee ol isa qabe;
maqaa maqaa hunda caalus isaaf kenne.
10 Kunis akka jilbi hundinuu samii fi lafa irratti,
lafa jalattis, maqaa Yesuusiif jilbeenfatuuf.
11 Akka arrabni hundinuus
ulfina Waaqa Abbaatiif jedhee
Yesuus Kiristoos Gooftaa ta'uu isaa dhugaa ba'uuf.

### *Waan Hunda Guungummii Malee Hojjechuu*

12 Kanaafuu yaa jaallatamoo, akkuma yeroo hunda ajajamtan sana, yeroo ani isin
bira jiru qofa utuu hin ta'in amma yeroo ani isin bira hin jirretti caalchisaatii sodaa fi
hollannaan fayyina keessan fiixaan baasuuf itti fufaa; 13 akkuma kaayyoo isaa gaarii
sanaatti fedhuu fi hojjechuu isin keessatti kan raawwatu Waaqaatii.

[14] Waan hunda guungummii fi falmii malee hojjedhaa; [15] kunis akka isin dhaloota
micciiramaa fi jal'aa kana gidduutti akkuma ifaa addunyaa keessatti ibsitaniif,
akka warra mudaa hin qabnee fi qulqullaa'oo, ijoollee Waaqaa warra yakka hin
qabnes taataniif, [16] yoo isin dubbii jireenyaa jabeessitanii qabattan ani akkasumaan
akka hin fiigin yookaan akkasumaan akka hin dadhabin guyyaa Kiristoositti of
jajuu nan danda'a. [17] Ani utuu aarsaa fi tajaajila amantii keessanii irratti akka
dhibaayyuutti dhangalaafamee iyyuu nan gammada; hunda keessan wajjinis nan
gammada. [18] Kanaafuu isinis na wajjin gammaduu fi ililchuu qabdu.

*Xiimotewosii fi Afrodiixuu*

[19] Ani oduu waa'ee keessanii dhaga'ee gammaduuf, akka ani dafee Xiimotewosin
gara keessanitti erguu danda'u Gooftaa Yesuusin nan abdadha. [20] Ani nama biraa kan
akka isaa waa'ee keessan garaa qulqulluun yaadu tokko illee hin qabu. [21] Sababiin
isaas warri kaan hundi utuu fedhii Yesuus Kiristoosiif hin ta'in fedhii mataa isaaniitiif
yaaduutii. [22] Xiimotewos garuu akkuma ilmi abbaa isaa tajaajilutti hojii wangeelaa
keessatti na wajjin tajaajiluu isaa akka of mirkaneesse isinuu beektu. [23] Kanaaf ani
akkuma haala koo hubadheen isa erguuf nan abdadha. [24] Ani mataan koo iyyuu
dafee dhufuuf Gooftaa nan amanadha.

[25] Ani garuu obboleessa koo Ephafroodiixuu hojjetaa hidhata koo ta'ee fi loltuu
hidhata koo ta'e, ergamaa keessan kan isin akka inni waan na barbaachisuun na
tajaajiluuf ergitan sana deebisee gara keessan erguun barbaachisaa natti fakkaata.
[26] Inni hunda keessan yaadaatii; isin akka inni dhukkubsatee ture waan dhageessani-
ifis dhiphachaa jira. [27] Inni dhugumaan dhukkubsatee du'uu ga'ee ture. Waaqni
garuu isa maareera; utuu isa qofa hin ta'in akka gaddi gadda irratti natti hin
dabalamneef anas baraareera. [28] Kanaafuu isin akka yommuu lammata isa argitanitti
gammaddanii fi akka yaaddoon koos naa salphatuuf dafee gara keessanitti isa erguu
guddaa nan hawwa. [29] Isinis Gooftaadhaan gammachuu guddaan isa simadhaa;
namoota akkasiis kabajaa; [30] inni gargaarsa isin naa kennuu hin danda'in naa
kennuuf, jireenya isaa illee dabarsee kennuun, hojii Kiristoosiif jedhee du'uu iyyuu
ga'ee tureetii.

# 3

*Foon Amanachuu Dhiisuu*

[1] Dhuma irrattis yaa obboloota ko, Gooftaatti gammadaa! Ani waanuma kanaan
duraa irra deebi'ee isinii barreessuun na hin dhibu; kun isiniif eegumsa. [2] Saroota
irraa of eeggadhaa; namoota hammina hojjetan irraa of eeggadhaa; dhagna
qabaa sobaa irraas of eeggadhaa. [3] Sababiin isaa nu warri Hafuura Waaqaatiin
waaqeffannu, warri Kiristoos Yesuusiin of jajnuu fi warri foon hin amananne dhagna
qabanneerraatii; [4] ta'us ani mataan koo amanachuu akkanaatiif sababii qaba.

Namni biraa kam iyyuu foon amanachuuf waan sababii qabu yoo of se'e, ani
immoo isa caalaa qaba: [5] Ani dhaladhee guyyaa saddeettaffaattin dhagna qabadhe;
sanyii Israa'el keessaas gosa Beniyaam irraa dhaladhe; warra Ibrootaa keessaas
Ibricha tokkoo dha; akka seeraattis ani Fariisota keessaa tokko dha; [6] waa'ee
hinaaffaa, ani waldaa kiristaanaa ari'achaan ture; waa'ee qajeelummaa seera eeguun
argamuus ani mudaa hin qabu ture.

[7] Garuu waan na fayyadaa ture amma Kiristoosiif jedhee akka waan gatii hin
qabneetti nan ilaala. [8] Dhugumaanuu sababii Gooftaa koo Kiristoos Yesuus isa waan
hundumaa caalu sana beekuutiif ani waan hundumaa akka waan gatii hin qabneetti
nan ilaala. Ani isaaf jedhee waan hundumaa dhabeera; Kiristoosin argachuufis
waan hundumaa akka kosiitti nan ilaala; [9] kunis qajeelummaa mataa koo kan

seera eeguun argamu utuu hin ta'in qajeelummaa Kiristoositti amanuun argamu
jechuunis akka ani qajeelummaa Waaqa biraa amantiidhaan dhufu qabaadhee isa
keessa jiraadhuuf. [10] Ani Kiristoosii fi humna du'aa ka'uu isaa beekuu, dhiphina isaa
keessatti hirmaachuu fi du'a isaatiinis isa fakkaachuu nan barbaada; [11] akkasiinis ani
du'aa ka'uu warra du'anii argachuu nan danda'a.

### *Iddoo Yaadame Ga'uuf Fiiguu*

[12] Kiristoos Yesuus waan kan ofii isaa na godhateef anis waan kana harkatti
galfachuuf nan fiiga jechuudha malee waan kana hunda argadheera yookaan nama
hir'ina hin qabne ta'eera jechuu miti. [13] Yaa obboloota, ani akka waan harkatti
isa galfadheetti hin ilaalu. Waan tokko garuu nan godha: Waan na duuba jiru
irraanfadhee gara waan fuula koo dura jiruutti nan hiixadha; [14] badhaasa Waaqni
Kiristoos Yesuusiin ol samiitti itti na waame sana argachuuf gara kaayyoo sanaatti
nan fiiga.

[15] Nu warri bilchaatoon hundinuu waan akkanaa haa yaadnu. Yoo waan tokko
tokko irratti yaada garaa garaa qabaattan garuu kanas Waaqni isinii ibsa. [16] Ta'us
waanuma kanaan dura irra geenye sanaan haa jiraannu.

[17] Yaa obboloota, fakkeenya koo duukaa bu'uudhaan warra kaaniin tokko ta'aa;
warra fakkeenya nu isinii kennineen jiraatanis hubadhaa. [18] Akkuma ani yeroo
hedduu isinitti himee fi akkuma ani amma illee imimmaaniin iyyuu isinitti himu,
namoonni baay'een diinota fannoo Kiristoos ta'anii jiraatuutii. [19] Dhumni isaanii
badiisa; Waaqni isaanii garaa isaanii ti; ulfinni isaanii salphina isaaniitiin. Yaadni
isaaniis waanuma lafaa irratti hundeeffama. [20] Nu garuu biyyi keenya samii irra.
Fayyisaa achii dhufu, Gooftaa Yesuus Kiristoos eegganna; [21] innis humna waan hunda
of jala galfachuu isa dandeessisu sanaan akka dhagni keenya inni dadhabaan dhagna
isaa ulfina qabeessa sana fakkaatuuf dhagna keenya ni geeddara.

## 4

### *Jabaatanii Jiraachuu fi Tokkummaa*

[1] Kanaafuu yaa obboloota ko, isin warri ani jaalladhuu fi warri ani yaadu, warri
gammachuu kootii fi gonfoo koos taatan, yaa michoota ko, akkanatti Gooftaatti
jabaadhaa dhaabadhaa!

### *Gorsa*

[2] Ani akka isaan Gooftaadhaan yaada tokko qabaataniif Ewoodiyaanin nan
kadhadha; Sinxiikeenis nan kadhadha. [3] Yaa hidhata dhugaa, dubartoonni kunneen
Qaleeminxoosii fi warra na wajjin hojjetan kanneen maqaan isaanii kitaaba jireenyaa
keessatti barreeffame kaan wajjin waan hojii wangeelaa keessatti na wajjin dadha-
baniif akka ati isaan gargaartuuf sin kadhadha.

[4] Isin yeroo hunda Gooftaatti gammadaa. Ammas ani irra deebi'ee nan jedha,
gammadaa! [5] Garraamummaan keessan nama hundumaa biratti haa beekamu.
Gooftaan dhi'oo jira. [6] Waan hundumaa keessatti Waaqa kadhachuu fi waammataan,
galata wajjinis gaaffii keessan Waaqatti dhi'eeffadhaa malee waan tokko illee hin
yaadda'inaa. [7] Nagaan Waaqaa kan hubannaa hundaa ol ta'e sun karaa Kiristoos
Yesuusiin qalbii fi yaada keessan ni eega.

[8] Dhuma irrattis yaa obboloota, wanni dhugaa ta'e kam iyyuu, wanni ulfina
qabeessa ta'e kam iyyuu, wanni qajeelaa ta'e kam iyyuu, wanni qulqulluu ta'e
kam iyyuu, wanni jaallatamaa ta'e kam iyyuu, wanni gurra namaatti tolu kam
iyyuu, wanni gaarii ta'e yookaan galateeffamaa ta'e kam iyyuu yoo jiraate isin waan
akkanaa yaadaa. [9] Isin waan narraa barattan yookaan narraa argattan yookaan

narraa dhageessan yookaan narratti argitan hunda isinis akkasuma godhaa. Waaqni nagaa isin wajjin ni ta'a.

### *Kennaa Isaaniitiif Galateeffachuu Isaa*

10 Sababii isin dhuma irratti deebitanii naa yaaduu jalqabdaniif ani Gooftaatti baay'ee nan gammada. Dhugumaanuu carraa ittiin argisiiftan dhabdaniiti malee isin durumaanuu naa yaadaa turtan.
11 Ani waan waa dhabeef akkana jechaa hin jiru; haala kam iyyuu keessatti na ga'a jechuu baradheeraatii.
12 Ani dhabuun maal akka ta'e beeka; baay'ee qabaachuunis maal akka ta'e nan beeka. Haala kam iyyuu keessatti, waan hunda keessattis icciitii quufuutii fi beela'uu, baay'ee qabaachuutii fi dhabuu baradheera.
13 Ani isa humna naa kennu sanaan waan hunda gochuu nan danda'a.
14 Haa ta'uu malee rakkina koo keessatti hirmaachuun keessan waan gaarii gochuu keessan ture.
15 Kana malees isin warri Fiiliphisiyuus akkuma beektan, jalqabatti yeroo ani wangeela isinitti lallabetti, yeroo ani Maqedooniyaadhaa ka'etti isin qofa malee waldaan kiristaanaa tokko iyyuu waa'ee kennuu fi fudhachuu keessatti na wajjin hin hirmaanne.
16 Yeroo ani Tasaloniiqee turetti illee yommuu ani rakkadhetti isin yeroo tokkoo ol gargaarsa naaf ergitaniituutii.
17 Kunis akka bu'aan isiniif baay'atu barbaadeen malee ani kennaa keessan barbaadee miti.
18 Ani kaffaltii guutuu argadhee caalaa iyyuu qabaadheera; kennaa isin ergitanis Ephafroodiixuu harkaa fudhadhee hamma na ga'u argadheera. Kunis kennaa urgaa'aa fi qalma fudhatamaa Waaqa gammachiisuu dha.
19 Waaqni koos akkuma badhaadhummaa isaa ulfina qabeessa sanaatti waan isin barbaachisu hunda Kiristoos Yesuusiin isiniif guuta.
20 Waaqa keenyaa fi Abbaa keenyaaf bara baraa hamma bara baraatti ulfinni haa ta'u. Ameen.

### *Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

21 Kiristoos Yesuusiin qulqulloota hundatti nagaa naa himaa.
Obboloonni na wajjin jiranis nagaa isinii dhaamu.
22 Qulqulloonni hundinuu, keessumattuu warri mana Qeesaarii jiraatan nagaa isinii dhaamu.

23 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hafuura keessan wajjin haa ta'u. Ameen.

# Qolosaayis

1 Phaawulos isa fedhii Waaqaatiin ergamaa Kiristoos Yesuus ta'ee fi obboleessa
keenya Xiimotewos irraa,

2 Gara qulqulloota, obboloota Kiristoosiin amanamoo ta'an kanneen Qolosaayis
jiraataniitti:

Abbaa keenya Waaqa biraa ayyaannii fi nagaan isiniif haa ta'u.

### *Galataa fi Kadhannaa*

3 Nu yommuu isiniif kadhannutti Waaqa, Abbaa Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos
yeroo hunda ni galateeffanna; 4 amantii isin Kiristoos Yesuusitti qabdanii fi jaalala
isin qulqulloota hundaaf qabdan sana dhageenyeerraatii; 5 kunis sababii abdii samii
keessatti isinii kuufame sanaatiif; isin waa'ee abdii kanaa duraanuu dubbii dhugaa,
wangeela keessatti dhageessaniirtu; 6 wangeelli kunis isin bira ga'eera. Wangeelli
kunis gaafa isin isa dhageessanii dhugumaan ayyaana Waaqaa hubattanii jalqabee
akkuma isin gidduutti hojjechaa ture sana addunyaa guutuu keessattis ija naqachaa
fi guddachaa jira. 7 Kanas tajaajilaa jaallatamaa hidhata keenya ta'e Ephaafiraa irraa
barattaniirtu; innis Kiristoosiif tajaajilaa amanamaa ta'ee iddoo keenya kan bu'ee
dha; 8 inni waa'ee jaalala keessan kan Hafuurri isinii kenne sanaas nutti himeera.
9 Sababii kanaaf nu gaafa waa'ee keessan dhageenyee jalqabnee isinii kadhachuu
fi akka Waaqni karaa ogummaatii fi hubannaa hafuuraa hundaan beekumsa fedhii
isaatiin isin guutu kadhachuu hin dhiifne. 10 Kunis akka isin hojii gaarii hundaan
ija naqachaa, Waaqa beekuudhaanis guddachaa, jireenya Gooftaaf maluu fi kan
karaa hundaan isa gammachiisu jiraattaniif; 11 isinis jajjabinaa fi obsa guddaa
akka qabaattaniif, akkuma aangoo isaa ulfina qabeessa sanaatti humna hundaan
jabaachaa, gammadaas 12 Waaqa Abbaa kan akka isin mootummaa ifaa keessatti
qulqulloota wajjin dhaala keessatti hirmaattan isin dandeessise sana galateeffadhaa.
13 Inni taayitaa dukkanaa jalaa nu baasee gara mootummaa Ilma inni jaallatuutti nu
dabarseeraatii; 14 nus isumaan furama, jechuunis dhiifama cubbuu arganneerra.

### *Ol aantummaa Ilma Waaqaa*

15 Inni fakkaattii Waaqa hin mul'anne sanaa ti; uumama hundaafis hangafa.
16 Wanni hundinuu isumaan uumameetii: Wanni samii keessaa fi lafa irraa, wanni
mul'atuu fi hin mul'anne, teessoowwan yookaan humnoonni yookaan bulchitoonni
yookaan taayitaawwan, wanni hundinuu isumaan, isumaaf uumaman. 17 Inni waan
hunda dura jira; wanni hundinuu isumaan wal qabatee dhaabata. 18 Inni mataa
dhagna isaa, mataa waldaa kiristaanaa ti; waan hunda irratti ol aantummaa akka
qabaatuufis inni kan jalqabaa ti; warra du'an keessaa kaafamuudhaanis hangafa.
19 Waaqni guutummaan isaa hundi isa keessa jiraachuu isaatti gammadeeraatii;
20 dhiiga isaa kan fannoo irratti dhangala'e sanaanis nagaa buusuudhaan waan lafa
irra jiru yookaan waan samii keessa jiru hunda karaa isaatiin ofitti araarseeraatii.
21 Isinis dur amala keessan hamaa sanaan Waaqatti orma taatanii yaada keessanii-
nis diinota turtan. 22 Amma garuu qulqulloota mudaa hin qabnee fi warra hir'ina hin
qabne godhee fuula isaa duratti isin dhi'eessuuf dhagna foon Kiristoosiin, karaa du'a
isaatiin isin araarseera; 23 kunis yoo isin amantii keessaniin itti fuftan, yoo jabaattanii
dhaabattanii fi yoo isin abdii wangeelaa irraa hin sochoone ta'a. Wangeelli kunis

isuma isin dhageessanii fi isuma samii gaditti uumama hundatti lallabamee dha; ani
Phaawulosis wangeeluma kanaaf tajaajilaa ta'eera.

### *Phaawulos Waldaa Kiristaanaatiif Dhama'uu Isaa*

24 Ani amma isiniif dhiphachuu kootti nan gammada; waan dhiphina Kiristoos
dhagna isaatiif jechuunis waldaa kiristaanaatiif jedhee dhiphate sana keessaa
hir'ates ani foon kootiin nan guuta. 25 Ergama Waaqni natti kenneen ani akka
dubbii Waaqaa guutummaatti isinii dhi'eessuuf tajaajilaa waldaa kiristaanaa ta'eera;
26 dubbiin kunis icciitii barootaa fi dhaloota jalaa dhokfamee turee dha; amma garuu
qulqulloota isaatti mul'ifameera. 27 Waaqni badhaadhummaan ulfina icciitii kanaa
hammam guddaa akka ta'e Namoota Ormaa gidduutti qulqulloota isaatti beeksisuu
filateera; icciitiin kunis Kiristoos, abdii ulfinaa isa isin keessa jiruu dha.
28 Nus isuma lallabna; nama hunda kan guutumaan guutuutti Kiristoositti
bilchaataa ta'e akka dhi'eessinuuf, tokkoo tokkoo namaa ogummaa hundaan gorsaa
barsiisna. 29 Kanaafuu ani akkuma hojii humna isaa kan ciminaan na keessatti
hojjetu sanaatti carraaqaa nan dhimma.

## 2

1 Akka ani isiniif, warra Lodooqiyaa jiranii fi warra fooniin fuula koo hin
argin hundaafis jedhee hammam carraaqaa jiru isin akka beektan nan barbaada.
2 Kunis akka isaan jaalalaan tokko ta'anii garaan isaanii jajjabeeffamuuf, akka isaan
badhaadhummaa hubannaa guutuu qabaatanii icciitii Waaqaa jechuunis Kiristoosin
beekaniif; 3 badhaadhummaan ogummaa fi beekumsaa hundinuus isuma keessa
dhokfameera. 4 Anis akka namni tokko iyyuu afaan tolee isin hin gowwoomsineef
waan kana isinittin hima. 5 Ani yoon fooniin isin irraa fagaadhe illee hafuuraan isin
wajjin waanan jiruuf, isin hammam naamusa qabeeyyii akka taatanii fi amantiin isin
Kiristoositti qabdanis hammam cimaa akka ta'e arguu kootiif nan gammada.

### *Jireenya Kiristoosiin Argamu*

6 Yoos akkuma Kiristoos Yesuus Goofticha fudhattanitti isatti jiraadhaa; 7 akkuma
barattan sanatti hidda keessan isa keessatti gad fageeffadhaatii isa irratti ijaaramaa;
amantiittis jabaadhaa; galata guutee dhangala'us dhi'eessaa.
8 Eenyu iyyuu barsiisa waa'ee Kiristoos irratti hundeeffameen utuu hin ta'in
falaasama faayidaa hin qabnee fi gowwoomsaa, kan bartee namaatii fi qajeelfama
addunyaa kanaa irratti hundeeffameen akka isin hin boojine of eeggadhaa.
9 Guutummaan Waaqummaa hundinuu fooniin Kiristoos keessa jiraataatii; 10 isinis
Kiristoos isa humnaa fi taayitaa hunda irratti mataa ta'e sanaan guutamtaniirtu.
11 Isumaanis foon cubbamaa ta'e sana of irraa gattanii dhagna qabattaniirtu; dhagna
qabaan kunis dhagna qabaa harka namaatiin ta'e utuu hin ta'in kan Kiristoosiin
ta'ee dha; 12 isinis cuuphaadhaan isa wajjin awwaalamtanii humna Waaqaa kan
Kiristoosin warra du'an keessaa isa kaasetti amanuu keessaniin cuuphaadhuma
sanaan isa wajjin kaafamtaniirtu.
13 Yeroo isin cubbuu keessanii fi foon keessan kan dhagna hin qabamin sanaan
duutanii turtanitti Waaqni Kiristoos wajjin jiraattota isin taasise. Cubbuu keenya
hundas nuu dhiise; 14 innis himata idaa keenya kan seeraa kan nuun mormuu fi
nutti muru sana haqee mismaaraan fannootti diree dhabamsiise. 15 Innis humnootaa
fi taayitaawwan fannoodhaan mo'ate hidhannoo hiikkachiisuudhaan ifa baasee
uummatatti isaan argisiise.

### *Sirna Foonii Jalaa Bilisa Ba'uu*

16 Kanaafuu eenyu iyyuu waan nyaattanii fi waan dhugdaniin yookaan waa'ee
ayyaanaatiin yookaan waa'ee Baatii Haaraatiin yookaan waa'ee Sanbataatiin isinitti

hin murin. [17] Isaan kunneen gaaddidduu waan dhufuuf jiruu ti; dhugaan isaa garuu
Kiristoos keessa jira. [18] Namni sobee gad of qabuu fi ergamoota waaqeffachuu jaallatu
kam iyyuu badhaasa isin hin dhabsiisin. Namni akkasii waan arge hunda baay'isee
odeessa; sababii malee yaada foon isaatiin of tuula. [19] Innis mataa isa dhagni guutuun
ittiin soorame, hiddaa fi ribuu isaatiinis walitti hidhamee guddina Waaqni kennuufiin
guddatu sana irraa citeera.

[20] Isin erga Kiristoos wajjin qajeelfama hundee kan addunyaa kanaatiif duutanii
maaliif akka waan amma iyyuu kan addunyaa taataniitti sirna isaatiif bultu ree?
[21] Innis, "Harkaan hin qabatin! Hin dhandhamin! Hin tuqin!" jedha. [22] Isaanis
waan ajajaa fi barsiisa namaa irratti hundeeffamaniif yeroo hojii irra oolanitti baduuf
murteeffamaniiru. [23] Sirni kunis dhugumaan of dirqisiisuun waaqeffachuu isaanii,
gad of qabuu sobaatii fi foon isaanii miidhuu isaaniitiin bifa ogummaa qaba; hawwii
foonii dhowwuuf garuu faayidaa tokko illee hin qabu.

# 3

### *Akka Warra Kiristoosiin Jiraattota Taasifamaniitti Jiraachuu*

[1] Egaa isin erga Kiristoos wajjin kaafamtanii waan ol gubbaa, mirga Waaqaa iddoo
Kiristoos taa'u sana jiru barbaadaa. [2] Waan ol gubbaa yaadaa malee waan lafa irraa
hin yaadinaa. [3] Duutaniirtuutii; jireenyi keessanis Kiristoos wajjin Waaqa keessa
dhokfameera. [4] Yommuu Kiristoos inni jireenya keessan ta'e sun mul'atutti isinis isa
wajjin ulfinaan ni mul'attu.

[5] Kanaaf hawwii addunyaa isa isin keessatti hojjechaa jiru hundumaa ajjeesaa;
kunis halalummaa, xuraa'ummaa, dharraa foonii, hawwii hamaa fi sassattummaa
isa waaqa tolfamaa waaqeffachuu ta'e sanaa dha. [6] Sababii kanaafis dheekkamsi
Waaqaa warra hin ajajamnetti ni dhufa. [7] Isinis jireenya dur jiraattan keessatti
karuma akkasii irra deddeebi'aa turtan. [8] Amma garuu waan akkasii hunda: aarii,
dheekkamsa, hamminaa fi maqaa nama balleessuu of irraa fageessaa; dubbiin
gadheenis afaan keessanii hin ba'in. [9] Wal hin sobinaa; isin eenyummaa keessan
isa moofaa sana hojii isaa wajjin of irraa baaftanii [10] eenyummaa haaraa kan
beekumsa fakkaattii Uumaa isaatiin haaromfamaa jirus uffattaniirtu. [11] Sababii
kanaaf, nama Giriik yookaan Yihuudii, nama dhagna qabate yookaan kan dhagna
hin qabatin, nama wallaalaa, nama jireenya isaa hin qajeelfatin, garba yookaan
birmaduu jechuun hin jiru; Kiristoos garuu hunduma; hunduma keessas jira.

[12] Kanaafuu isin akkuma warra Waaqaaf filatamanii qulqullaa'anii fi jaallatamani-
itti, gara laafummaa, arjummaa, gad of qabiisa, garraamummaa fi obsa qabaadhaa.
[13] Wal danda'aa; yoo eenyu iyyuu nama tokko illee irraa komii qabaate walii dhiisaa.
Akkuma Gooftaan isinii dhiise sana isinis walii dhiisaa. [14] Kana hundumaa irrattis
jaalala waan hundumaa tokkummaa hir'ina hin qabneen walitti hidhu qabaadhaa.

[15] Nagaan Kiristoos kan isin akkuma kutaa dhagna tokkootti itti waamamtan sun
garaa keessan keessatti haa mo'u. Warra galateeffattanis ta'aa. [16] Dubbiin Kiristoos
baay'inaan isin keessa haa jiraatu; ogummaa hundaan wal barsiisaa; wal gorsaas;
faarfannaadhaan, weedduu galataatii fi faarfannaa Hafuuraatiin garaa keessan
keessatti Waaqa galateeffadhaa. [17] Dubbiinis ta'u hojiidhaan, waan hojjettan kam
iyyuu maqaa Gooftaa Yesuusiin hojjedhaa; isumaanis Waaqa Abbaa galateeffadhaa.

### *Qajeelfama Maatii Kiristaanaatiif Kenname*
### *3:18–4:1 kwf – Efe 5:22–6:9*

[18] Yaa niitota, akka Gooftaaf ta'utti dhirsoota keessaniif ajajamaa.

[19] Yaa dhirsoota, isinis niitota keessan jaalladhaa; isaanittis hin hammaatinaa.

20 Yaa ijoolle, waan hundumaan abbootii fi haadhota keessaniif ajajamaa; kun
Gooftaa gammachiisaatii.
21 Yaa abbootii, isinis akka ijoolleen keessan abdii hin kutanneef tuttuqxanii isaan
hin aarsinaa.
22 Yaa garboota, isinis warra fooniin gooftota keessan ta’aniif waan hundaan
ajajamaa; kanas yeroo isaan isin ilaalan qofa isaan gammachiisuuf utuu hin ta’in
garaa qulqulluu fi Gooftaa sodaachuudhaan godhaa. 23 Waan hojjettan hunda akka
waan namaaf hojjettaniitti utuu hin ta’in akka waan Gooftaaf hojjettaniitti garaa
guutuudhaan hojjedhaa; 24 kunis sababii isin akka Gooftaa biraa badhaasa dhaalaa
argattan beektaniif. Kan isin tajaajilaa jirtan Kiristoos Goofticha. 25 Namni balleessaa
hojjetu kam iyyuu gatii balleessaa isaa ni argataatii; nama wal caalchisuunis hin jiru.

# 4

1 Yaa gooftota, isinis akka samii irraa Gooftaa qabdan waan beektaniif, garboota
keessan qajeelummaa fi wal qixxummaadhaan bulchaa.

### *Gorsa Dabalataa*

2 Warra dammaqanii galateeffatan ta’uudhaan kadhannaatti jabaadhaa. 3 Nu
icciitii Kiristoos kan ani isaaf jedhee hidhamee jiru sana akka lallabnuuf Waaqni
balbala dubbichaa akka nuu banu nuufis kadhadhaa. 4 Anis akka narraa eegamutti
ibsee akkan lallabuuf naa kadhadhaa. 5 Baricha furuudhaan warra alaa wajjin
hubannaadhaan jiraadhaa. 6 Tokkoo tokkoo namaatiif akkamitti akka deebii kennitan
akka beektaniif dubbiin keessan yeroo hunda ayyaanaan kan guutame, soogiddaanis
kan mi’eeffame haa ta’u.

### *Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

7 Xikiqoos oduu waa’ee kootii hunda isinitti ni hima. Inni obboleessa jaallatamaa,
tajaajilaa amanamaa fi Gooftaatti garbicha hidhata koo ta’ee dha. 8 Anis akka
isin haala nu keessa jirru beektanii fi akka inni garaa keessan jajjabeessuuf gara
keessanitti isa ergeera. 9 Innis obboleessa keenya amanamaa fi jaallatamaa isa garee
keessan keessaa tokko ta’e Oneesimoos wajjin dhufa. Isaanis waan asitti ta’aa jiru
hundumaa isinitti himu.

10 Arisxirokoos inni na wajjin hidhamee jiru nagaa isinii dhaama; Maarqos durbiin
Barnaabaasis akkanuma nagaa isinii dhaama. Waa’ee isaas ajajni, “Yoo inni gara
keessan dhufe isa simadhaa” jedhu isin ga’eera.
11 Yesuus inni Yoosxoos jedhamus akkasuma nagaa isinii dhaama. Warra dhagna
qabatan keessaas kanneen na wajjin mootummaa Waaqaatiif hojjetan isaanuma qofa;
isaanis jajjabina guddaa naa ta’aniiru.
12 Ephaafiraan inni isin keessaa tokko ta’ee fi tajaajilaan Kiristoos Yesuus nagaa
isinii dhaama. Innis akka isin fedhii Waaqaa hundaan bilchaatoo fi guutuu taatanii
jabaattanii dhaabattaniif yeroo hunda kadhannaadhaan isinii dadhabaa jira. 13 Ani
akka inni isiniif, warra Lodooqiyaa fi magaalaa Heraapoolis jiraniifis hinaaffaa gaarii
qabu dhugaa nan ba’aaf.
14 Luqaas ogeessi fayyaa michuun keenya jaallatamaanii fi Deemaas nagaa isinii
dhaamu.
15 Obboloota Lodooqiyaa jiranitti, akkasumas Niimfaa fi waldaa kiristaanaa kan
mana ishee jirtutti nagaa naa himaa.

16 Erga xalayaan kun isinii dubbifamee booddee waldaa Kiristaanaa Lodooqiyaatti
akka dubbifamu godhaa; isinis xalayaa Lodooqiyaadhaa dhufu dubbifadhaa.

17 Arkiphaadhaanis, “Hojii Gooftaadhaan sitti kenname sana akka xumurtu mirkaneeffadhu” jedhaa.

18 Ani Phaawulos, xalayaa nagaa kana harkuma kootiin barreessa. Hidhamuu koo yaadadhaa. Ayyaanni isin wajjin haa ta’u.

# Tasaloniiqee
# Tokkoffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos, Silwaanosii fi Xiimotewos irraa,

Gara waldaa kiristaanaa warra Tasaloniiqee kan Waaqa Abbaatii fi kan Gooftaa Yesuus Kiristoos taateetti:

Ayyaannii fi nagaan isiniif haa ta'u.

*Amantii Warra Tasaloniiqeetiif Galateeffachuu*

2 Nu kadhannaa keenya keessatti maqaa keessan dhoofnee yeroo hunda waa'ee
hunda keessaniitiif Waaqa ni galateeffanna. 3 Nu hojii amantii keessanii, dadhabbii
jaalala keessanii fi obsa abdii keessanii kan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoositti
qabdan sana Waaqa keenyaa fi Abbaa keenya duratti ittuma fufnee ni yaadanna.
4 Yaa obboloota Waaqaan jaallatamtan, nu akka inni isin filate beeknaatii;
5 wangeelli keenya humnaan, Hafuura Qulqulluu fi amansiisa guddaan malee
dubbii afaanii qofaan gara keessan hin dhufneetii. Nu isiniif jennee akkamitti
akka isin gidduu jiraanne ni beektu. 6 Isinis fakkeenya keenyaa fi fakkeenya
Gooftaa duukaa buutaniirtu; utuma dhiphina guddaa keessa jirtanuus gammachuu
Hafuurri Qulqulluun isinii kennuun dubbicha fudhattaniirtu. 7 Kanaanis amantoota
Maqedooniyaa fi Akaayaa jiran hundaaf fakkeenya taatanii jirtan. 8 Dubbiin Gooftaa
isin biraa ba'ee Maqedooniyaa fi Akaayaa qofatti hin dhaga'amne; amantiin isin
Waaqatti qabdanis lafa hunda ga'eera. Kanaafuu waa'ee isaa homaa dubbachuu nu
hin barbaachisu; 9 isin simannaa akkamii akka nuu gootan isaanuu ni dubbatuutii.
Isaan akkamitti akka isin Waaqa jiraataa fi Waaqa dhugaa tajaajiluuf jettanii waaqota
tolfamoo irraa gara Waaqaatti deebitanis ni himu; 10 akkasumas Ilma isaa isa inni
warra du'an keessaa kaase jechuunis Yesuus isa dheekkamsa dhufu jalaa nu baasu
sana akka samii irraa eeggattan ni himu.

## 2

*Phaawulos Tasaloniiqeetti Tajaajiluu Isaa*

1 Yaa obboloota, isin bira dhufuun keenya sun akkasumaan akka hin ta'in isinuu ni
beektu. 2 Akkuma isin beektan nu kanaan dura Fiiliphisiyuusitti dhiphanneerra; akka
malees qaaneffamneerra. Garuu yoo mormiin cimaan nu qunname illee gargaarsa
Waaqa keenyaatiin wangeela isaa isinitti himuudhaaf ija jabina arganneerra. 3 Gorsi
nu kenninus kan dogoggora yookaan xuraa'ummaa yookaan gowwoomsaa irraa
dhufe miti. 4 Qooda kanaa nu akka warra Waaqni wangeela imaanaa itti kennuuf
qoratee fudhateetti dubbanna. Yaaliin keenyas Waaqa garaa keenya qoru sana
gammachiisuuf malee nama gammachiisuuf miti. 5 Akkuma isin beektanii fi akkuma
Waaqnis dhugaa ba'u sana nu dubbii sossobbiitti hin fayyadamne; doqnummaa
dhokfachuufis haguuggannee gara keessan hin dhufne. 6 Nu namoota irraa, isin
irraas ta'u yookaan warra kaan irraa ulfina hin barbaanne. Nu akka ergamoota
Kiristoosiitti ba'aa isinitti ta'uu ni dandeenya ture; 7 nu garuu akkuma haadha
daa'imman ishee kunuunfattu tokkoo taane.

Garraamummaadhaan gidduu keessan jiraanne. [8] Nu waan akka malee isin
jaallanneef wangeela Waaqaa qofa utuu hin ta'in lubbuu keenya illee isinii kennuun
fedhii keenya ture; isin nu biratti akka malee jaallatamoo turtaniitii. [9] Yaa obboloota,
isin dadhabbii fi dhiphina keenya ni yaadattuutii; nu yeroo wangeela Waaqaa isinii
lallabnetti nama tokkotti illee akka ba'aa hin taaneef halkanii guyyaa hojjechaa turre.
[10] Nu hammam qulqullummaan, qajeelummaa fi mudaa malee isin warra amantan
gidduu akka jiraanne isin dhugaa ni baatu; Waaqnis dhugaa ba'a. [11] Isin akka nu
akkuma abbaan ijoollee isaa gorsee jajjabeessutti tokkoo tokkoo keessaniif taane ni
beektuutii; [12] kunis akka isin jireenya Waaqa isa mootummaa isaattii fi ulfina isaatti
isin waamu sanaaf malu jiraattaniif.

[13] Isinis yommuu dubbii Waaqaa kan nurraa dhageessan sana fudhattanitti akkuma
inni jirutti, akka dubbii Waaqaa kan isin warra amantan keessatti hojjetuutti
fudhattan malee akka dubbii namaatti waan hin fudhatiniif nu utuu gargar hin
kutin Waaqa galateeffanna. [14] Yaa obboloota, isin fakkeenya waldoota kiristaanaa
Waaqaa warra Kiristoos Yesuusitti jiran kanneen biyya Yihuudaa jiranii duukaa
buutaniirtu; akkuma waldoonni kunneen harka Yihuudootaatti dhiphatan sana isinis
harka namoota biyya keessaniitti dhiphattaniirtu; [15] Yihuudoonni kunneen warra
Gooftaa Yesuusii fi raajota ajjeesanii nu illee ari'atanii dha. Isaan Waaqa hin
gammachiisan; nama hundattis diina ta'u; [16] isaanis cubbuu isaanii guuttachuuf
jedhanii akka nu akka Namoonni Ormaa fayyifamaniif itti hin dubbanne nu dhowwu.
Dhuma irratti garuu dheekkamsi Waaqaa isaanitti dhufeera.

### *Phaawulos Warra Tasaloniiqee Arguu Hawwe*

[17] Garuu yaa obboloota, erga yaadaan utuu hin ta'in fooniin yeroo gabaabaaf isin
irraa gargar baanee jalqabnee fuula keessan arguuf hawwii guddaan caalchifnee
dhamaane. [18] Nu gara keessan dhufuu barbaannee turreetii; dhugumaanuu ani
Phaawulos yeroo baay'ee gara keessan dhufuu yaaleera; garuu Seexanatu nu
dhowwe. [19] Yommuu Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos dhufutti fuula isaa duratti
abdiin keenya yookaan gammachuun keenya yookaan gonfoon nu ittiin of jajnu
eenyu? Isinuma mitii? [20] Isin ulfinaa fi gammachuu keenyaatii.

## 3

[1] Kanaafuu nu waan hammana caalaa obsuu dadhabneef kophaa keenya Ateenaatti
hafuun gaarii nutti fakkaate. [2] Nus obboleessa keenya Xiimotewos, tajaajilaa Waaqaa
isa wangeela Kiristoosiitti hojjetaa hidhata keenya ta'e sana, akka inni amantii
keessanitti isin cimsuu fi isin jajjabeessuuf ergineerra; [3] kunis akka namni tokko
iyyuu dhiphina kanaan hin jeeqamneef. Isinis akka nu waan kanaaf filatamne sirriitti
beektu. [4] Yeroo isin bira turretti akka dhiphinni nurra ga'u isinitti himaa turreetii.
Innis akkuma isin beektan sana ta'e. [5] Sababii kanaaf ani yommuun kana caalaa
obsuu dadhabetti waa'ee amantii keessanii baruuf jedheen isa erge. Tarii inni nama
qoru sun isin qoree dadhabbiin keenyas faayidaa malee hafeera jedheen sodaadhe.

### *Xiimotewos Oduu Gaarii Fide*

[6] Amma garuu Xiimotewos isin biraa gara keenya dhufee waa'ee amantii keessani-
itii fi waa'ee jaalala keessanii oduu gaarii nutti himeera. Akkasumas akka isin
yeroo hunda yaada gaariidhaan nu yaaddanii fi akkuma nu isin arguu hawwinu
sana akka isinis nu arguu hawwitan nutti himeera. [7] Kanaaf yaa obboloota, nu
dhiphinaa fi ari'atama keenya hunda keessatti amantii keessaniin waa'ee keessan
jajjabaanneerra. [8] Yoo isin Gooftaatti cimtanii dhaabatan nu dhugumaan ni
jiraannaatii. [9] Gammachuu sababii keessaniin fuula Waaqa keenyaa duratti qabnu
hundaaf waa'ee keessaniif hammam Waaqa galateeffachuu dandeenya? [10] Nu akka

deebinee isin arginuu fi waan amantii keessan keessaa hir'ates akka isinii guutuu
dandeenyuuf halkanii guyyaa cimsinee kadhanna.
11 Ammas Waaqni keenyaa fi Abbaan keenya mataan isaa, Gooftaan keenya
Yesuusis akka nu gara keessan dhufnu karaa nuuf haa qajeelchu. 12 Akkuma jaalalli
nu isinii qabnu dabalaa deemu sana Gooftaan jaalala isin walii keessanii fi nama
hundaaf qabdan isinii haa guddisuu; haa baay'isus. 13 Akka isin yommuu Gooftaan
keenya Yesuus qulqulloota isaa hunda wajjin dhufutti fuula Waaqa keenyaatii fi
Abbaa keenyaa duratti warra mudaa hin qabnee fi qulqulloota taataniifis inni garaa
keessan haa jajjabeessu.

# 4

*Waaqa Gammachiisuuf Jiraachuu*

1 Kana malees yaa obboloota, Waaqa gammachiisuuf akkamitti akka jiraachuu
qabdan nu isin barsiifneerra; isinis akkuma sanatti jiraachaa jirtu. Ammas akka
ittuma caalchiftanii waan kana gootan Gooftaa Yesuusiin isin kadhanna; isin gorsinas.
2 Nu taayitaa Gooftaa Yesuusiin ajaja maalii akka isinii kennine beektuutii.
3 Fedhiin Waaqaa akka isin qulqullooftanii dha; kunis akka isin halalummaa irraa
fagaattaniif; 4 tokkoon tokkoon keessan akkamitti akka karaa qulqulluu fi ulfina
qabeessa ta'een dhagna keessan eeggattan beekuu qabdu; 5 kunis akka ormoota
Waaqa hin beekneetti hawwii fooniitiin hin ta'in; 6 waan kanaanis namni tokko iyyuu
obboleessa isaa hin miidhin yookaan hin gowwoomsin. Akkuma nu kanaan dura
isinitti himnee isin akeekkachiifne sana, Gooftaan warra cubbuu akkasii hojjetan
hunda haaloo ba'a. 7 Waaqni akka nu jireenya qulqulluu jiraannuuf malee akka
xuroofnuuf nu hin waamneetii. 8 Kanaafuu namni gorsa kana tuffatu Waaqa Hafuura
isaa Qulqulluu isinii kennu sana tuffata malee nama hin tuffatu.
9 Egaa waan Waaqni akka isin wal jaallattan isin barsiiseef waa'ee jaalala
obbolummaa isinii barreessuu nu hin barbaachisu. 10 Dhugumaan isin obboloota
guutummaa Maqedooniyaa keessa jiran hunda ni jaallattu. Yaa obboloota, nu garuu
akka kana caalaa isaan jaallattan isin gorsina; 11 akkuma nu kanaan dura isin ajajnetti
tasgabbiin jiraachuuf tattaaffadhaa; harkuma keessaniin hojii keessan hojjetadhaa;
12 kunis akka isin warra alaa biratti ulfina argattanii fi akka harka nama tokko illee
hin eegganneef.

*Amantoota Warra Lubbuun Hin jirre*

13 Yaa obboloota, nu akka isin waa'ee warra rafan sanaa wallaaltan yookaan akka
namoota abdii hin qabne kaaniitti gadditan hin barbaannu. 14 Nu erga akka Yesuus
du'ee du'aa ka'e amannee akkasuma immoo Waaqni warra Yesuusitti amananii rafan
sana akka isuma wajjin kaasu ni amanna. 15 Wanni nu akka dubbii Gooftaatti
isinitti himnu kana; nu warri lubbuun jirru kanneen hamma dhufaatii Gooftaatti
jiraannu gonkumaa warra rafan sana hin dursinu. 16 Gooftaan mataan isaa ajajaan,
sagalee ergamaa hangafaatii fi sagalee malakata Waaqaatiin samii irraa ni bu'a;
warri Kiristoositti amananii du'anis jalqabatti ni ka'u. 17 Ergasii immoo nu warri
hafnee lubbuun jirru qilleensa irratti Gooftaa simachuuf isaan wajjin duumessaan ol
fudhatamna. Akkasumas bara baraan Gooftaa wajjin ni jiraanna. 18 Kanaafuu dubbii
kanaan wal jajjabeessaa.

# 5

1 Egaa yaa obboloota, waa'ee barootaatii fi waa'ee waqtiilee waan tokko iyyuu isinii
barreessuu nu hin barbaachisu; 2 akka guyyaan Gooftaa akkuma hattuutti halkaniin
dhufu isinuu sirriitti beektuutii. 3 Utuma namoonni, "Nagaa dha; qabbanas"

jedhanuu akkuma ciniinsuun dubartii ulfaatti dhufu badiisni akka tasaa isaanitti
dhufa; jalaas hin ba’an.
4 Isin garuu yaa obboloota, akka guyyaan sun akkuma hattuutti isinitti hin dhufneef
isin warra dukkana keessa jirtan miti. 5 Isin hundi ijoollee ifaa ti; ijoollee guyyaatis.
Nu warra halkanii yookaan warra dukkanaa miti. 6 Egaa kottaa nu akka warra kaanii
hin rafnuu; qooda kanaa kottaa ni dammaqnaa; of qabnas. 7 Warri rafan halkaniin
rafuutii; warri machaa’anis halkaniin machaa’u. 8 Nu garuu waan warra guyyaa
taaneef kottaa amantii fi jaalala akka qomee sibiilaatti uffannee, abdii fayyinaa
immoo akka qoobii sibiilaatti kaa’annee of qabnaa. 9 Waaqni akka nu karaa Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosiin fayyina argannuuf malee dheekkamsaaf nu hin filanneetii.
10 Nu yoo dammaqne yookaan yoo rafne akka isa wajjin tokkummaan jiraannuuf
inni nuuf du’e. 11 Kanaafuu akkuma amma gochaa jirtan kana wal jajjabeessaa; wal
ijaaraas.

*Gorsa Dhumaa*

12 Egaa yaa obboloota, nu akka isin warra gidduu keessanitti cimanii hojjetan,
kanneen karaa Gooftaatiin isin hoogganani fi isin gorsan sana kabajjan isin
kadhanna. 13 Sababii hojii isaaniitiifis jaalalaan ulfina guddaa isaaniif kennaa.
Nagaadhaanis walii wajjin jiraadhaa. 14 Yaa obboloota, nu akka isin warra
hojii hojjechuu hin jaallanne akeekkachiiftan, sodaattota jajjabeessitan, dadhaboo
gargaartan, akka nama hundumaafis obsitan isin gorsina. 15 Akka namni tokko iyyuu
waan hamaaf deebii hamaa hin deebifne of eeggadhaa; qooda kanaa yeroo hunda
waliif, nama hundaafis waan gaarii gochuuf carraaqaa.
16 Yeroo hunda gammadaa; 17 utuu gargar hin kutin kadhadhaa. 18 Haala hundumaa
keessatti Waaqa galateeffadhaa; fedhiin Waaqni Kiristoos Yesuusitti isiniif qabu
kanaatii.
19 Hafuura hin dhaamsinaa; 20 raajii hin tuffatinaa; 21 waan hunda qoraa. Isa gaarii
jabeessaatii qabadhaa. 22 Hammina gosa hundumaa irraa fagaadhaa.
23 Waaqni mataan isaa, Waaqni nagaa guutumaan guutuutti isin haa qulqulleessu.
Hafuurri keessan, lubbuun keessanii fi dhagni keessan guutuun guyyaa Gooftaan
keenya Yesuus Kiristoos dhufutti mudaa irraa haa eegaman. 24 Inni isin waamu sun
amanamaa dha; waan kanas ni godha.

25 Yaa obboloota, nuufis kadhadhaa.

26 Dhungoo qulqulluudhaanis obboloota hunda nagaa gaafadhaa.

27 Ani akka xalayaan kun obboloota hundaaf dubbifamu fuula Gooftaa duratti isin
ajaja.

28 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isin wajjin haa ta’u.

# Tasaloniiqee
# Lammaffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos, Silwaanosii fi Xiimotewos irraa,

Gara Waldaa Kiristaanaa warra Tasaloniiqee kan Abbaa keenya Waaqaatii fi kan
Gooftaa Yesuus Kiristoos taateetti:

2 Ayyaannii fi nagaan Waaqa Abbaa fi Gooftaa Yesuus Kiristoos irraa isiniif haa
ta'u.

*Galataa fi Kadhannaa*

3 Yaa obboloota, sababii amantiin keessan baay'ee guddachaa, jaalalli hundi
keessan walii keessaniif qabdanis ittuma dabalaa jiruuf nu yeroo hunda waa'ee
keessaniif akka malutti Waaqa galateeffachuu qabna. 4 Kanaafuu nu qorumsa isin
obsitan sanaaf, ari'atama hunda keessatti jabaattanii dhaabachuu keessanii fi amantii
keessaniin waldoota Kiristaanaa Waaqaa keessatti sababii keessaniin of jajna.
5 Kun hundinuu akka murtiin Waaqaa qajeelaa ta'e mul'isa; sababii kanaafis isin
warra mootummaa isaa kan dhiphachaafii jirtan sanaaf maltan ni taatu. 6 Waaqni
qajeelaa dha: Inni warra isin rakkisan ni rakkisa; 7 isin warra rakkattaniif, nuufis
boqonnaa ni kenna. Kunis yommuu Gooftaan Yesuus ibidda balali'uun ergamoota
isaa humna qabeeyyii wajjin samii irraa mul'atutti ta'a. 8 Inni warra Waaqa hin
beeknee fi warra wangeela Gooftaa keenya Yesuusiif hin ajajamne ni adaba. 9 Isaanis
fuula Gooftaa duraa fi ulfina humna isaa irraa fageeffamanii badiisa bara baraatiin
ni adabamu; 10 kunis guyyaa inni qulqulloota isaatiin kabajamuu fi warra amanan
hundumaa gidduutti dinqisiifatamuuf dhufutti ta'a. Isinis waan dhuga ba'umsa
keenya amantaniif isaanitti lakkaa'amtu.
11 Nus waan kana yaadatti qabachaa, akka Waaqni keenya warra waamicha isaatiif
malan isin godhuuf, humna isaatiinis kaayyoo keessan gaarii hundaa fi akka hojii
amantii keessanii hunda fiixaan isinii baasuuf utuu gargar hin kutin isinii kadhanna.
12 Nus akkuma ayyaana Waaqa keenyaattii fi Gooftaa Yesuus Kiristoosiitti akka
maqaan Gooftaa keenya Yesuus isiniin kabajamuu fi akka isinis isaan kabajamtaniif
waan kana kadhanna.

## 2

*Nama Fincilaa*

1 Yaa obboloota, waa'ee dhufaatii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosii fi waa'ee
isa biratti walitti qabamuu keenyaa wanni nu isin kadhannu kana; 2 kunis raajii
yookaan dubbii yookaan xalayaa akka waan nu biraa dhufeetti hedamuun akka isin
guyyaan Gooftaa ammuma iyyuu dhufeera jettanii daftanii hin raafamneef yookaan
hin jeeqamneef. 3 Namni tokko iyyuu karaa kamiin iyyuu isin hin gowwoomsin; utuu
fincilli dursee hin dhufin, namni cubbuu, ilmi badiisaa sun utuu hin mul'atin guyyaan
sun hin dhufuutii. 4 Innis waan Waaqa jedhamu yookaan waan waaqeffatamu
hundumaan mormee isaan irratti ol ol of qaba; "Ani Waaqa" ofiin jechuudhaanis
mana qulqullummaa Waaqaa keessa taa'a.

[5] Isin akka ani yeroo isin bira turetti waan kana isinitti himaa ture hin yaadattanii?
[6] Akka inni yeroo murteeffame sanatti mul'atuufis waan amma isa dhowwu ni beektu.
[7] Icciitiin humna fincila sanaa amma iyyuu hojiitti jiraatii; garuu inni amma humna
sana duubatti deebisu sun hamma karaa irraa fuudhamutti ittuma fufee isa dhowwa.
[8] Inni Hamaan sun ni mul'ata; Yesuus Gooftaan immoo hafuuruma afaan ofii isaatiin
isa galaafata; ifa dhufaatii isaatiinis isa barbadeessa. [9] Dhufaatiin namicha isa hamaa
sanaa akkuma hojii Seexanaatti humna hundaa fi mallattoon, dinqii sobaatiinis ni
ta'a; [10] innis gowwoomsaa gosa hundaa kan warra badan sana ittiin gowwoomsuun
mul'ata. Warri badan sunis sababii dhugaa silaa ittiin fayyan sana jaallachuu didaniif
badu. [11] Kanaafuu Waaqni akka isaan soba amananiif waan nama wallaalchisu
isaanitti erga; [12] kunis akka warra dhugaatti amanuu didanii jal'inatti gammadan
hundatti murtaa'uuf.

### *Jabaadhaatii Dhaabadhaa*

[13] Nu garuu yaa obboloota Gooftaan jaallatamtan, sababii Waaqni warra jalqabaa
godhee akka isin karaa Hafuuraan qulqulleeffamuutii fi karaa dhugaatti amanuutiin
fayyitaniif isin filateef yeroo hunda Waaqa galateeffachuu qabna. [14] Innis akka
isin ulfina Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos keessatti hirmaattaniif karaa wangeela
keenyaatiin kaayyoo kanaaf isin waame.

[15] Egaa yaa obboloota, jabaadhaatii dhaabadhaa; barsiisa nu karaa dubbii
afaaniitiin yookaan xalayaan isin barsiifne sana jabeessaatii qabadhaa.

[16] Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos mataan isaa, Waaqni Abbaan keenya inni nu
jaallatee karaa ayyaana isaatiin jajjabina bara baraatii fi abdii gaarii nuu kenne sun,
[17] hojii fi dubbii gaarii hunda keessatti garaa keessan haa jajjabeessu; isin haa cimsus.

# 3

### *Nuuf Kadhadhaa*

[1] Egaa yaa obboloota, akka dubbiin Gooftaa akkuma isin biratti ta'e sana dafee
iddoo hunda ga'uu fi akka ulfinas qabaatu nuuf kadhadhaa. [2] Akka nu harka namoota
hamootii fi jal'ootaa jalaa baanuufis nuuf kadhadhaa; amantii kan qabu nama hunda
mitii. [3] Gooftaan garuu amanamaa dha; inni isin cimsa; isa hamaa irraas isin eega.
[4] Nu akka isin waan nu isin ajajne sana hojjechaa jirtan, akka ittuma fuftaniis hojjetan
Gooftaa ni amananna. [5] Gooftaan garaa keessan gara jaalala Waaqaatii fi gara obsa
Kiristoositti haa qajeelchu.

### *Dirqama Hojii Hojjechuu*

[6] Yaa obboloota, isin obboleessa dhibaa'aa fi kan akka bartee isin nurraa argattan
sanaattis hin jiraanne hunda irraa akka fagaattaniif maqaa Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoosiin isin ajajna. [7] Isin mataan keessan akkamitti akka fakkeenya keenya
duukaa bu'uu qabdan ni beektuutii. Nu yeroo isin bira turretti dhibaa'ota hin turre;
[8] nus akka isin keessaa nama tokkotti illee ba'aa hin taaneef jennee, dadhabbii fi
tattaaffii guddaan halkanii guyyaa hojjechaa turre malee buddeena nama tokkoo
illee tola hin nyaanne. [9] Nu fakkeenya isinii ta'uuf waan kana goone malee waan
aangoo hin qabneef miti. [10] Nu yommuu isin bira turretti ajaja, "Namni hojjechuu
hin barbaanne kam iyyuu hin nyaatin" jedhu isinii kenninee turreetii.

[11] Akka isin keessaa namoonni tokko tokko dhibaa'ota ta'anii jiraatan dhageeny-
eerraatii. Isaan dhimma nama biraa keessa galuu malee ofii isaaniitii waan tokko
illee hin hojjetan. [12] Namoonni akkanaa akka gab jedhanii hojii hojjetanii fi akka
buddeena ofii isaanii nyaataniif Gooftaa Yesuus Kiristoosiin isaan ajajna; ni gorsinas.
[13] Isin garuu yaa obboloota, waan gaarii hojjechuutti hin laafinaa.

14 Yoo namni kam iyyuu dubbii keenya kan xalayaa kana keessaatiif hin ajajamne,
nama kana yaadatti qabadhaa. Akka inni qaana'uufis isa wajjin tokkummaa hin
qabaatinaa. 15 Ta'us akka obboleessaatti isa gorsaa malee akka diinaatti isa hin
ilaalinaa.

### *Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

16 Gooftaan nagaa mataan isaas yeroo hunda, karaa hundaan nagaa isinii haa kennu. Gooftaan hunduma keessan wajjin haa ta'u.

17 Ani Phaawulos xalayaa kana harkuma kootiin barreessa; kunis mallattoo xalayoota koo hundaa ti. Akki ani itti barreessus kanuma.

18 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isin hunda wajjin haa ta'u.

# Xiimotewos Tokkoffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos isa ajaja fayyisaa keenya Waaqaatii fi abdii keenya Kiristoos Yesuusiin
ergamaa Kiristoos Yesuus ta'e irraa,

2 Gara Xiimotewos isa amantiidhaan ilma koo dhugaa ta'eetti:

Waaqa Abbaa fi Gooftaa keenya Kiristoos Yesuus irraa ayyaanni, araarrii fi nagaan siif haa ta'u.

*Barsiistota Sobaatiin Mormuu*

3 Akkuma ani yeroo Maqedooniyaa dhaqetti si gorse sana ati akka namoonni tokko
tokko barsiisa addaa hin barsiifne akka ajajjuuf achuma Efesoon turi; 4 akkasumas
akka isaan oduu hundee hin qabnee fi hidda dhalootaa kan dhuma hin qabne sanaan
hin fudhatamne isaan ajaji. Wanni kun hojii Waaqaa kan amantiin ta'u guddisuu irra
mormii kakaasaatii. 5 Kaayyoon ajaja kanaas jaalala garaa qulqulluu, qalbii gaarii
fi amantii itti fakkeessuu hin qabne keessaa ba'uu dha. 6 Namoonni tokko tokko
karaa kana irraa badanii gara dubbii faayidaa hin qabneetti gara galaniiru. 7 Isaanis
maal akka jedhan yookaan akka waa'ee maalii cimsanii dubbatan utuu hin hubatin
barsiistota seeraa ta'uu barbaadu.
8 Yoo namni sirriitti itti fayyadame seerri gaarii akka ta'e ni beekna. 9 Seerri
warra seera cabsanii fi finciltootaaf, warra Waaqa malee jiraatanii fi cubbamootaaf,
warra qulqulluu hin ta'inii fi xuraa'otaaf, warra abbaa isaaniitii fi haadha isaanii
ajjeesanii fi warra nama ajjeesaniif malee akka qajeeltotaaf hin tumamin ni beekna;
10 akkanumas seerri ejjitootaa fi dhiirota dhiira wajjin sagaagalaniif, warra garba
daldalanii fi warra soba dubbataniif, warra sobaan dhugaa ba'anii fi warra barsiisa
dhugaatiin morman hundumaaf akka tumame ni beekna; 11 kunis wangeela ulfina
qabeessa kan Waaqa eebbifamaa irraa imaanaa natti kenname sana wajjin walii gala.

*Ayyaana Gooftaa Kan Phaawulosiif kenname*

12 Waan inni tajaajila isaatiif na filatee akka nama amanamaatti na lakkaa'eef, ani
Gooftaa keenya Kiristoos Yesuus isa jabina naa kenne sana nan galateeffadha. 13 Ani
kanaan dura nama nama arrabsu, kan nama ari'atuu fi kan nama miidhu ta'u iyyuu
sababii ani wallaalummaa fi amantii dhabuun waan kana hojjedheef araara argadhe.
14 Ayyaanni Gooftaa keenyaas amantii fi jaalala Kiristoos Yesuusiin argamu wajjin
baay'inaan narratti dhangalaafame.
15 Dubbiin, "Kiristoos Yesuus cubbamoota fayyisuudhaaf gara addunyaa dhufe"
jedhu sun amanamaa dha; namni hundinuus kana fudhachuu qaba; cubbamoota
sana keessaas cubbamaan cubbamoota hunda caalu ana. 16 Ta'us sababuma kanaaf
Yesuus Kiristoos akka ani warra jireenya bara baraa argachuuf isatti amananiif
fakkeenya ta'uuf ana nama cubbamoota hunda caalaa cubbamaa ta'een obsa isaa kan
dhuma hin qabne sana mul'isuuf jedhee naa araarame. 17 Egaa Mootii bara baraa,
isa hin duune, isa ijatti hin mul'anne Waaqa tokkicha sanaaf bara baraa hamma bara
baraatti ulfinnii fi galanni haa ta'u. Ameen.

*Qajeelchi Xiimotewosiif Kenname Cimsamuu Isaa*

[18] Yaa ilma koo Xiimotewos, akkuma raajii kanaan dura waa'ee kee dubbatame
sanaatti, akka ati lola gaarii loltuuf ani ajaja kana siifin kenna; [19] waan kanas
amantii fi qalbii qajeelaa qabaachuudhaan godhi. Namoonni tokko tokko waan kana
gochuu didanii amantii isaanii balleessaniiru. [20] Himenewoosii fi Iskindiroos warri
ani akka isaan Waaqa arrabsuu dhiisuu barataniif dabarsee Seexanatti kenne sun
isaan keessatti argamu.

# 2

*Qajeelcha Waa'ee Waaqeffannaa*

[1] Egaa ani akka waammachuun, kadhannaan, namaaf kadhachuu fi galanni maqaa
nama hundaatiin dhi'eeffamu duraan dursee nan gorsa; [2] nus akka Waaqa sodaachuu
hundumaan, ulfinaanis jireenya nagaatii fi tasgabbiin jiraannuuf moototaa fi warra
taayitaa qaban hundumaafis akkasuma haa godhamu. [3] Kunis gaarii dha; fuula
Fayyisaa keenya Waaqaa durattis fudhatamaa dha; [4] Waaqni akka namni hundinuu
fayyuu fi akka dhugaa beekuu biras ga'u barbaada. [5] Waaqni tokkicha; Waaqaa fi
nama gidduu immoo gidduu galeessa tokkotu jira; innis Kiristoos Yesuus isa nama
ta'ee dha; [6] Yesuus kunis isa furii ta'ee nama hundaaf dabarsee of kennee dha;
kunis yeroo isaatti mirkaneeffameera. [7] Sababii kanaaf ani lallabaa fi ergamaa,
Namoota Ormaatiif immoo barsiisaa amantii dhugaa ta'ee muudameen jira. Ani
dhugaa dubbadha; hin sobu.

[8] Kanaafuu ani akka dhiironni iddoo hundatti dheekkamsaa fi wal mormii malee
harka qulqullaa'aa ol fudhatanii kadhatan nan barbaada. [9] Akkasumas dubartoonni
akka hin malletti mataa dha'achuun, warqee yookaan lula naqachuun yookaan
uffata gatii guddaa uffachuun utuu hin ta'in akka of qabuu fi naamusaaf ta'utti
uffatanii akka of miidhagsan nan barbaada; [10] isaanis akkuma dubartoota, "Nu
Waaqa sodaanna" jedhaniitti waan gaarii haa hojjetan.

[11] Dubartiin waan hundaan ajajamuun cal'istee haa barattu. [12] Ani akka dubartiin
cal'istu malee akka barsiiftu yookaan akka dhiira irratti taayitaa qabaattu hin
eeyyamu. [13] Sababiin isaas Addaam jalqabatti uumame; Hewaan immoo ergasii
uumamte. [14] Addaam hin gowwoomfamne; dubartittiin garuu gowwoomfamtee seera
cabsite. [15] Ta'us dubartoonni yoo amantiin, jaalalaa fi qulqullinaan, naamusaan
jiraatan ijoollee da'uudhaan ni fayyu.

# 3

*Ulaagaa Phaaphaasotaa fi Daaqonootaa*

[1] Jechi, "Eenyu iyyuu yoo Phaaphaasii ta'uu hawwe, hojii gaarii hawwa" jedhu kun
amanamaa dha. [2] Egaa Phaaphaasiin kan mudaa hin qabne, kan niitii tokkittii qabu,
amala qabeessa, kan of qabu, kabajamaa, kan keessummaa simatu, kan barsiisuu
danda'u, [3] kan hin machoofne, kan goolii kaasu utuu hin ta'in obsa qabeessa, kan
lola hin jaallannee fi kan maallaqa hin jaallanne ta'uu qaba. [4] Innis maatii ofii
isaa sirriitti bulfatee akka ijoolleen isaa kabaja maluun isaaf ajajaman mirkaneessuu
qaba. [5] Namni tokko yoo maatii ofii isaa akka itti bulfatu hin beekne inni akkamitti
waldaa kiristaanaa Waaqaa eeguu danda'aa? [6] Inni akka of jajuudhaan afuufamee
murtii diiyaabiloos keessatti hin kufneef nama dhi'oo amane hin ta'in. [7] Innis akka
hin tuffatamnee fi akka kiyyoo diiyaabiloos keessattis hin kufneef warra alaa biratti
maqaa gaarii haa qabaatu.

[8] Daaqonoonnis akkasuma namoota kabajaman, warra afaan lama hin dubbanne,
warra dhugaatii daadhii wayiniitiin hin fudhatamnee fi warra bu'aa hin malle
argachuuf hin tattaaffanne ta'uu qabu. [9] Yaada qulqulluunis icciitii amantii

jabeessanii qabachuu qabu. 10 Isaanis duraan dursanii haa qorataman; ergasiis yoo
mudaan tokko iyyuu isaan irratti hin argamin daaqonoota ta'anii haa tajaajilan.

11 Akkasumas dubartoonni isaanii kabajamoo, kanneen maqaa nama hin ballees-
sine, amala qabeeyyii fi waan hundaan amanamoo ta'uu qabu.

12 Daaqoniin tokko dhirsa niitii tokkittii, kan ijoollee isaatii fi warra mana isaa
jiraatan sirriitti bulchu ta'uu qaba. 13 Warri daaqonummaan sirriitti tajaajilan ulfina
guddaa, amantii Kiristoos Yesuusitti qabaniin immoo ija jabina guddaa argatu.

### *Sababii Phaawulos Qajeelcha Kennuuf*

14 Ani akkan dafee gara kee dhufu abdadhee qajeelfama kana siif nan barreessa;
15 kanas tarii yoo ani ture, namni tokko akkamitti akka mana Waaqaa keessa
jiraachuu qabu akka beektuufin siif barreessa; manni Waaqaa kunis waldaa Waaqa
jiraataa isa utubaa fi hundee dhugaa ta'ee dha. 16 Waaqatti buluun shakkii tokko
malee icciitii guddaa of keessaa qaba; kunis,

Inni fooniin mul'ate;
Hafuuraan mirkaneeffame;
ergamoota Waaqaatu isa arge;
saboota keessatti lallabame;
addunyaa irratti itti amaname;
ulfinaan ol fudhatame.

# 4

### *Qajeelfama Xiimotewosiif Kenname*

1 Akka bara dhufuuf jiru keessa namoonni tokko tokko hafuurota sobaatii fi
barsiisa hafuurota hamoo duukaa bu'uudhaan amantii dhiisan Hafuurri Qulqulluun
ifa baasee dubbata. 2 Barsiisni akkasiis karaa namoota fakkeessuudhaan sobanii
warra qalbiin isaanii akka waan gubaan gubameetti hadoodeetiin dhufa. 3 Isaanis
fuudhaa fi heeruma dhowwu; nyaata Waaqni akka warri amananii fi warri dhugaa
beekan galataan fudhatanii nyaataniif jedhee uume sanas akka namoonni lagatan
ajaju. 4 Wanni Waaqni uume hundinuu waan gaarii ta'eef yoo galataan fudhatame
wanni gatamu tokko iyyuu hin jiru; 5 inni dubbii Waaqaatii fi kadhannaadhaan
qulqulleeffameeraatii.

6 Atis yoo wantoota kanneen obbolootatti himte, dubbii amantiitii fi barsiisa
gaarii duukaa bu'aa turte sanaan bilchaattee tajaajilaa gaarii kan Kiristoos Yesuus
taata. 7 Oduu xuraa'aa fi mammaaksa beeraa irraa fagaadhu; qooda kanaa nama
Waaqaa ta'uuf of leenjisi. 8 Leenjiin dhagnaa faayidaa xinnaa qabaatii; Waaqatti
buluun garuu jireenya ammaatiifis jireenya dhufuuf jiruufis waan waadaa of keessaa
qabuuf waan hundaaf fayyada. 9 Jechi kun amanamaa fi kan guutumaan guutuutti
fudhatamuu maluu dha. 10 Sababii abdii keenya Waaqa jiraataa isa Fayyisaa nama
hundaa keessumattuu kan warra isatti amananii ta'e sana irra kaa'anneef nuus
kanaaf jennee ni dadhabna; ni tattaaffannas.

11 Wantoota kanneen ajaji; barsiisis. 12 Ati dubbiidhaan, amalaan, jaalalaan,
amantii fi qulqullinaan warra amananiif fakkeenya ta'i malee namni tokko iyyuu
dargaggummaa kee hin tuffatin. 13 Hamma ani dhufutti Katabbii Qulqulluu
namootaaf dubbisuutti, gorsuu fi barsiisuutti jabaadhu. 14 Kennaa kee isa yommuu
jaarsoliin harka isaanii sirra kaa'anitti karaa raajiitiin siif kenname sana hin dagatin.

15 Waan kanattis jabaadhu; akka namni hundinuu guddachuu kee arguufis
guutumaan guututti itti of kenni. 16 Jireenya keetii fi barsiisa kee eeggadhu. Ittis
jabaadhu; waan kana gochuu keetiinis ofii keetii fi warra si dhaga'an ni fayyiftaatii.

# 5

*Maanguddootaa fi Dargaggoota*

1 Nama dulloome tokko akka waan inni abbaa kee ta'eetti gorsi malee hin ifatin.
Dargaggootas akka obbolootaatti ilaali; 2 dubartoota dullooman akka haadhotiitti,
dubartoota shamarran akka obboleettotaatti qulqullummaa guutuun ilaali.

*Haadhota Hiyyeessaa*

3 Haadhota hiyyeessaa kanneen dhugumaan rakkattoota ta'an kabaji. 4 Garuu
haati hiyyeessaa tokko yoo ijoollee yookaan akkoowwan qabaatte ijoolleen kunneen
maatii isaanii gargaaruu fi warra isaaniitiif gatii deebisuudhaan amantii isaanii hojiin
mul'isuuf duraan dursanii barachuu qabu; kun Waaqa gammachiisaatii. 5 Haati
hiyyeessaa kan dhugumaan rakkattuu taatee kophaa ishee hafte abdii ishee Waaqa
irra kaa'attee halkanii guyyaa kadhannaa fi gargaarsa Waaqaa gaafachuu itti fufti.
6 Haati hiyyeessaa kan jireenya gammachuutti of gattu garuu utuma jirtuu iyyuu
duuteerti. 7 Akka namni tokko iyyuu mudaa hin qabaanneef ajaja kana kenni.
8 Namni firoota isaa keessumattuu miseensota maatii isaa warra isatti aannan hin
gargaarre kam iyyuu amantii ganeera; inni nama hin amanne caalaattis hamaa dha.
9 Haati hiyyeessaa tokko yoo umuriin ishee waggaa jaatamaa ol ta'ee akkasumas
niitii dhirsa tokkichaa turte taate malee maqaan ishee galmee haadhota hiyyeessaa
irratti hin galmeeffamin; 10 akkasumas isheen hojii gaarii hojjechuudhaan jechuunis
ijoollee guddisuudhaan, keessummaa simachuudhaan, miilla qulqullootaa dhiquud-
haan, warra rakkatan gargaaruudhaan, karaa hundumaanis hojii gaarii hojjechuu
keessatti of kennuudhaan kan beekamte ta'uu qabdi.
11 Haadhota hiyyeessaa* kanneen shamarran ta'an garuu hin galmeessin. Isaan
yommuu hawwiin foonii Kiristoos irraa gargar isaan baasutti deebi'anii heerumuu
barbaaduutii. 12 Kanaanis isaan waan kakuu isaanii kan jalqabaa cabsaniif murtii
ofitti fidu. 13 Kana malees manaa gara manaatti labanii dhibaa'ummaa baratu.
Dhibaa'ummaa qofa utuu hin ta'in waan dubbachuun isaaniif hin malle dubbachuud-
haan nama hamatu; dhimma namaa keessas galu. 14 Kanaafuu haadhonni hiyyeessaa
kanneen ijoollummaa qaban akka carraa maqaa nu balleessuu diinaaf hin kennineef
ani akka isaan heeruman, akka ijoollee da'anii fi akka mana isaanii bulfatan nan
gorsa. 15 Namoonni tokko tokko Seexana duukaa bu'uuf jedhanii duraanuu karaa
irraa goraniiru.
16 Dubartiin amantu kam iyyuu yoo haadhota hiyyeessaa maatii ishee keessaa
qabaatte, akka waldaan kiristaanaa haadhota hiyyeessaa kanneen dhugumaan
rakkattoota ta'an gargaartuuf isheen isaan haa gargaartuu malee akka waldaa
kiristaanaatti ba'aa ta'an hin godhin.

*Jaarsolii Waldaa*

17 Jaarsoliin sirriitti waldaa kiristaanaa bulchan keessumattuu warri hojiin isaanii
lallabuu fi barsiisuu ta'e ulfina dachaa argachuu qabu. 18 Katabbiin Qulqulluun,
"Qotiyyoo midhaan siribsiisuutti jiru afaan hin hidhin;†" akkasumas, "Hojjetaaf
mindaa isaa argachuun ni mala‡" jedhaatii. 19 Yoo dhuga baatota lamaan yookaan
sadiin mirkaneeffame malee himata jaarsa tokko mormuun dhi'eeffamu kam iyyuu
hin fudhatin. 20 Akka warri kaan sodaataniif namoota cubbuu hojjetan fuula namoota
hundaa duratti itti dheekkami. 21 Ani akka ati waan tokko iyyuu loogiidhaan hin
goonee fi akka wal caalchisuu malee ajajawwan kanneen eegduuf fuula Waaqaatii fi
fuula Kiristoos Yesuus duratti, fuula ergamoota filatamanii durattis sin gorsa.

---

* **5:11** 5:11 Haadhota hiyyeessaa – haati hiyyeessaa tokko gargaarsa argachuuf mirga qabaachuuf akka bara jireenya ishee guutuu Kiristoosin tajaajiluu malee lammata hin heerumne kakatti. † **5:18** 5:18 KeD 25:4 ‡ **5:18** 5:18 Luq 10:7

22 Eenyu irra iyyuu harka kaa'uuf hin ariifatin; cubbuu nama biraa keessatti hin
hirmaatin. Qulqullummaadhaanis of eeggadhu.
23 Sababii garaa keetiitii fi dhukkuba ammumaa amma sitti ka'u sanaatiif daadhii
wayinii xinnoo ishee dhugi malee bishaan qofa hin dhugin.
24 Cubbuun namoota tokko tokkoo duraan dursee ifatti mul'ata; isaan dura darbees
lafa murtii ga'a; cubbuun warra kaanii garuu duuba irratti beekama. 25 Hojiin
gaariinis akkasuma ifatti mul'ata; kan ifatti hin mul'annes dhokfamee hafuu hin
danda'u.

# 6

*Garboota*

1 Akka maqaan Waaqaatii fi barsiisni keenya hin arrabsamneef warri waanjoo
garbummaa jala jiran hundinuu akka ulfinni guutuun gooftota isaaniitiif malutti
haa ilaalan. 2 Warri gooftota amanan qabanis sababii isaan obboloota ta'aniif isaan
hin tuffatin. Qooda kanaa warri tajaajila isaaniitiin fayyadaman sun waan isaan
amantootaa fi jaallatamtoota ta'aniif ittuma cimsanii isaan haa tajaajilan.

*Barsiistota Sobaa fi Jaalala Maallaqaa*

Atis waan kana barsiisi; gorsis. 3 Eenyu iyyuu yoo barsiisa addaa barsiise, yoo
dubbii dhugaa kan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosii fi barsiisa nama Waaqaa ta'uuf
fayyaduun walii hin galle, 4 inni of tuulummaan guutameera; waan tokko iyyuus
hin hubatu. Inni waa'ee jechootaa irratti morkii fi lolaaf fedhii hamaa qaba; kunis
hinaaffaa, wal dhabuu, arrabsoo fi shakkii hamaa fida; 5 namoota qalbiin isaanii
badee dhugaanis irraa fudhatame kanneen Waaqatti buluu karaa ittiin maallaqni
argamu se'an gidduuttis walitti bu'iisa dhuma hin qabnetu uumama.
6 Waaqatti buluun, "Wanni ani qabu na ga'a" jechuu of keessaa qabaannaan kun
dhugumaan faayidaa guddaa qaba. 7 Nu waan tokko illee gara addunyaatti waan hin
fidiniif, waan tokko illee addunyaa keessaa fudhachuu hin dandeenyu. 8 Garuu waan
nyaannuu fi waan uffannu qabaannaan nu ga'a. 9 Warri sooromuu barbaadan garuu
qorumsaa fi kiyyoo, hawwii gowwummaa fi miidhaa baay'ee fidu kan diigamaa fi
badiisatti nama dhidhimsu keessatti kufu. 10 Maallaqa jaallachuun hidda hammina
gosa hundumaatii. Namoonni tokko tokko akka malee maallaqa jaallachuun amantii
irraa badanii dhiphina baay'een of waraananiiru.

*Gorsa Xiimotewosiif Kenname Kan Dhumaa*

11 Ati garuu yaa nama Waaqaa, waan kana hunda irraa baqadhu; qajeelummaa,
Waaqatti buluu, amantii, jaalala, obsaa fi garraamummaa duukaa bu'i. 12 Wal'aansoo
amantii gaarii sana qabi. Jireenya bara baraa kan yeroo fuula dhuga baatota baay'ee
duratti akka gaarii beeksiftetti itti waamamte sana jabeessii qabadhu. 13 Ani fuula
Waaqa waan hundaaf jireenya kennuu duratti, fuula Kiristoos Yesuus kan yommuu
Phonxoos Phiilaaxoos duratti dhugaa ba'etti akka gaarii beeksise sanaa durattis,
14 akka ati hamma dhufaatii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoositti ajaja kana xurii
fi mudaa malee eegdus sin gorsa. 15 Waaqni eebbifamaanii fi Bulchaan tokkichi,
Mootiin mootota fi Gooftaan gooftotaa yeroo isaatti waan kana ni mul'isa; 16 kan
hin duune isa qofa; innis ifa namni tokko iyyuu itti dhi'aachuu hin dandeenye keessa
jiraata; eenyu iyyuu isa hin argine; isa arguus hin danda'u. Ulfinii fi humni bara
baraan isaaf haa ta'u. Ameen.
17 Ati akka sooreyyiin addunyaa kanaa of tuuluu yookaan qabeenya badu abdachuu
dhiisanii Waaqa akka nu itti gammannuuf jedhee waan hunda baay'isee nuu
kennu sana abdataniif isaan ajaji. 18 Akka isaan waan gaarii hojjetan, akka
badhaadhummaan isaanii hojii gaarii ta'u, akka arjooman, akka waan qabanis

qooduuf fedhii qabaatan isaan ajaji. 19 Isaanis karaa kanaan jireenya dhugumaan
jireenya ta’e qabaachuuf jedhanii badhaadhummaa hundee jabaa ta’u bara dhufuuf
jiruuf ofii isaaniitii kuufatu.

20 Yaa Xiimotewos, waan imaanaa sitti kenname jabeessii eegi. Oduu Waaqni
hin jaallannee fi yaada mormii kan sobaan “Beekumsa” jedhamu irraa fagaadhu;
21 namoonni tokko tokko, “Nu beekumsa akkasii qabna” jechuun amantii irraa
badaniiruutii.

Ayyaanni isin wajjin haa ta’u.

# Xiimotewos
# Lammaffaa

1 Phaawulos isa akkuma waadaa jireenya karaa Kiristoos Yesuusiin galame sanaatti
fedhii Waaqaatiin ergamaa Kiristoos Yesuus ta’e irraa,

2 Gara Xiimotewos, ilma koo jaallatamaatti:

Abbaa keenya Waaqaa fi Gooftaa keenya Kiristoos Yesuus irraa ayyaanni, araarrii fi nagaan siif haa ta’u.

### *Galateeffachuu*

3 Ani yommuu utuu gargar hin kutin halkanii guyyaa kadhannaa koo keessatti
si yaadadhutti Waaqa akkuma abbootii kootii anis yaada qulqulluun isa waaqef-
fadhu sana nan galateeffadha. 4 Ani yommuun imimmaan kee yaadadhutti akka
gammachuudhaan guutamuuf guddisee si arguu nan hawwa. 5 Ani amantii kee isa
dhugaa sana nan yaadadha; amantiin kunis jalqabatti akkoo kee Loo’isii fi haadha
kee Ewuunqee keessa ture; amma immoo akka si keessa jiru nan amana.

### *Akka Phaawulosii fi Wangeelaaf Of Kennaniif Sossobachuu*

6 Sababii kanaaf ani akka ati kennaa Waaqaa kan yeroo ani harka koo sirra kaa’etti
siif kenname sana akka ibiddaatti akka qabsiiftuuf sin yaadachiisa. 7 Waaqni hafuura
humnaa, kan jaalalaatii fi kan of dhowwuu nuu kenne malee hafuura sodaa nuuf
hin kennineetii. 8 Kanaafuu waa’ee Gooftaa keenyaa dhugaa ba’uutti yookaan ana
nama isaaf jedhee hidhametti hin qaana’in. Wangeelaaf dhiphachuu keessatti garuu
humna Waaqaatiin na wajjin hirmaadhu; 9 Waaqni sababii kaayyoo isaatii fi sababii
ayyaana isaatiif nu fayyisee gara jireenya qulqulluutti nu waame malee sababii hojii
nu hojjenne kamiif iyyuu miti. Ayyaanni kunis uumama addunyaatiin dura karaa
Kiristoos Yesuusiin nuu kenname; 10 amma garuu ayyaanni sun dhufaatii Fayyisaa
keenya Kiristoos Yesuus isa karaa wangeelaatiin du’a balleessee jireenyaa fi badiisa
ooluu ifatti baase sanaatiin mul’ifameera. 11 Anis wangeela kanaaf lallabaa, ergamaa
fi barsiisaa ta’ee muudameera. 12 Anis akka amma jiru kanatti dhiphachuun koo
kanumaaf. Ani garuu eenyun akka amane waan beekuuf hin qaana’u; akka inni
waan ani imaanaa itti kennadhe hamma guyyaa sanaatti eeguu danda’us nan amana.
13 Waan narraa dhageesse sana akka fakkeenya barsiisa dhugaatti amantii fi jaalala
Kiristoos Yesuusiin qabdu jabeessii qabadhu. 14 Waan gaarii imaanaa sitti kenname
sana gargaarsa Hafuura Qulqulluu nu keessa jiraatu sanaatiin eegi.

### *Fakkeenya Of Kennuu Dhabuu fi Of Kennuu*

15 Namoonni biyya Asiyaa keessa jiraatan hundinuu akka narraa gara galan ni
beekta; Fiigeloosii fi Hermoogenees isaan keessa jiru.
16 Oneesifooros yeroo baay’ee waan na boqochiiseef Gooftaan warra mana
isaa jiraataniif araara haa buusu; inni hidhamuu kootti illee hin qaanofneetii.
17 Akkasumas inni yeroo Roomaa dhufetti hamma na argutti dhimmee na barbaadaa
ture. 18 Akka inni guyyaa sanatti Gooftaa irraa araara argatuuf fedhii Gooftaa haa
ta’u! Inni Efesoon keessatti karaa baay’een akka na tajaajile ati iyyuu sirriitti beekta.

# 2

*Sossobachuun Haaromfame*

1 Kanaafuu yaa ilma ko, ayyaana Kiristoos Yesuusiin jabaadhu. 2 Waan fuula dhuga
baatota baay'ee duratti narraa dhageesse sana namoota amanamoo kanneen warra
kaan barsiisuu danda'anitti imaanaa kenni. 3 Atis akkuma loltuu jabaa kan Kiristoos
Yesuusiitti nu wajjin dhiphadhu. 4 Namni loltummaan tajaajilu kam iyyuu ajajaa
isaa gammachiisuu yaala malee dhimma jireenyaatiin of hin xaxu. 5 Akkasumas
dorgomaan tokko yoo akka malutti dorgome malee gonfoo hin argatu. 6 Qonnaan
bulaan jabaatee hojjetus ija qooddachuutti nama jalqabaa ta'uu qaba. 7 Waan ani sitti
himu kana qalbeeffadhu; Gooftaan waan hunda keessatti hubannaa siif kennaatii.
8 Yesuus Kiristoos isa warra du'an keessaa kaafame, isa sanyii Daawit irraa dhalate
yaadadhu. Kun wangeela koo 9 kan ani isaaf jedhee akka nama yakka hojjete tokkootti
hamma foncaan hidhamuutti dhiphachaafii jiruu dha. Dubbiin Waaqaa garuu hin
hidhamu. 10 Kanaafuu akka warri filataman fayyina Kiristoos Yesuusiin ta'e sana
ulfina bara baraa wajjin argataniif ani isaaniif jedhee waan hundumaa nan obsa.
11 Dubbichi amanamaan akkana jedha:

Nu isa wajjin yoo duune,
isa wajjin ni jiraanna;
12 nu yoo obsine,
isa wajjin ni moona.
Nu yoo isa ganne,
innis nu gana.
13 Nu yoo amanamoo ta'uu baanne,
inni amanamaa ta'ee jiraata;
inni of ganuu hin danda'uutii.

*Waa'ee Barsiistota Sobduu*

14 Wantoota kanneen isaan yaadachiisi; waa'ee jechootaatiinis akka wal hin
lolleef fuula Waaqaa duratti isaan akeekkachiisi; wanni akkasii warra dhaga'an ni
diiga malee waa tokko illee hin fayyaduutii. 15 Atis dubbii dhugaa sana sirriitti
qabachuudhaan hojjetaa qoratamee fudhatame kan itti hin qaanofne ta'iitii fuula
Waaqaa duratti of dhi'eessuuf tattaaffadhu. 16 Garuu dubbii faayidaa hin qabne
irraa fagaadhu; dubbiin akkasii ittuma caalchisee nama Waaqaa ta'uu irraa nama
fageessaatii. 17 Barsiisni isaaniis akka dhukkuba gaangiriinii* babal'achaa deema.
Himenewoosii fi Filexoosis isaan keessatti argamu; 18 isaanis du'aa ka'uun ta'ee
darbeera jechuudhaan dhugaa irraa fagaataniiru. Amantii namoota tokko tokkoos
ni balleessu. 19 Garuu hundeen Waaqaa hin sochoofamne kan chaappaa, "Gooftaan
warra kan isaa ta'an ni beeka,"† akkanumas "Namni maqaa Gooftaa waammatu
hundi hammina irraa haa deebi'u" jedhuun chaappeffame jabaatee dhaabateera.
20 Mana guddaa tokko keessa mi'a warqeetii fi meetii qofa utuu hin ta'in, mi'i
mukaatii fi suphees jira; kana keessaas tokko tokko ulfinaaf, kaan immoo salphinaaf
oola. 21 Namni tokko yoo salphina kana irraa of qulqulleesse, inni mi'a ulfinaa kan
qulqulleeffame, kan Gooftaa isaa fayyaduu fi kan hojii gaarii kam iyyuu hojjechuuf
qopheeffame ta'a.
22 Atis hawwii hamaa yeroo dargaggummaa irraa baqadhu; warra garaa qulqulluun
Gooftaa waammatan wajjin qajeelummaa, amantii, jaalalaa fi nagaa duukaa bu'i.
23 Falmii faayidaa hin qabnee fi gowwummaa keessa hin seenin; kun akka lola
fidu atuu ni beektaatii. 24 Garbichi Gooftaa kan nama hundumaaf garaa laafu, kan

* **2:17** 2:17 Dhukkuba madaan isaa hin fayyine. † **2:19** 2:19 Lak 16:5

barsiisuu danda’uu fi obsa qabeessa ta’uu qaba malee kan namaan wal lolu ta’uu
hin qabu. [25] Innis akka Waaqni qalbii jijjiirrannaa gara dhugaa beekuutti isaan
geessu isaaniif kennu abdachaa warra isaan morman garraamummaan sirreessuu
qaba; [26] akkasiinis isaan qalbii horatanii kiyyoo diiyaabiloos kan akka isaan fedhii
isaa guutaniif isaan booji’e sana jalaa ba’u.

# 3

### *Waan Guyyoota Dhumaa Keessa Ta’u*

[1] Garuu guyyoota dhumaa keessa yeroon rakkinaa akka dhufu hubadhu.
[2] Namoonni of jaallattoota, jaallattoota maallaqaa, of jajjoota, of tuultota, warra
Waaqa arrabsan, warra abbaa fi haadha isaaniitiif hin ajajamne, warra hin
galateeffanne, warra qulqullummaa hin qabne, [3] warra jaalala hin qabne, warra
dhiifama hin goone, warra maqaa nama balleessan, warra of hin qabne, gara
jabeeyyii, warra waan gaarii hin jaallanne, [4] gantoota, warra akka malee jarjaran,
warra of bokoksan, warra Waaqa jaallachuu irra waan isaan gammachiisu jaallatan
ni ta’u; [5] warra Waaqaaf bulan ni fakkaatu; garuu humna isaa ni ganu. Ati warra
akkasii irraa fagaadhu.

[6] Isaan warra manneen seenuudhaan dubartoota dadhaboo warra cubbuun isaan
irra tuulamee fi warra hawwii gosa hundaatiin asii fi achi raafaman booji’anii dha;
[7] dubartoonni kunneen yeroo hunda ni baratu; garuu gonkumaa dhugaa beekuutti
dhufuu hin danda’an. [8] Akkuma Yaaneesii fi Yaambirees Museen morman sana
namoonni qalbiin isaanii badee waa’ee amantiitti fudhatama dhaban kunneenis
dhugaadhaan ni mormu. [9] Ta’us gowwummaan isaanii waan akkuma namoota sanaa
nama hunda biratti ifatti ba’uuf isaan fagoo hin deeman.

### *Gorsa Xiimotewosiif Kenname Kan Dhumaa*

[10] Ati garuu barsiisa ko, haala jireenya koo, kaayyoo koo, amantii koo, obsa koo,
jaalala koo, jabaadhee dhaabachuu koo hundumaa duukaa buuteerta; [11] ari’atamuu
koo, rakkina kootii fi waan Anxookiiyaatti, Iqooniyoonii fi Lisxiraanitti narra ga’e,
ari’atama garaa garaa kan ani obsaan keessa darbes duukaa buuteerta. Gooftaan
garuu waan kana hunda jalaa na baase. [12] Dhugumaanuu namni Kiristoos Yesuusiin
nama Waaqaa ta’ee jiraachuu barbaadu kam iyyuu ni ari’atama; [13] namoonni
hamoonii fi gowwoomsitoonni garuu nama gowwoomsaa, of illee gowwoomfamaa
hamminaan ittuma caalaa deemu. [14] Ati garuu waan barattee fi waan hubatte
sanatti jabaadhu; eenyu irraa akka baratte beektaatii; [15] akkasumas ati ijoollummaa
keetii jalqabdee Katabbiiwwan Qulqulluu kanneen waa’ee fayyina karaa Kiristoos
Yesuusitti amanuutiin argamu sanaaf ogeessa si taasisuu danda’an akkamitti akka
baratte ni beekta. [16] Katabbiin Qulqulluun hundi hafuura afaan Waaqaatii ba’een
kennaman; isaanis barsiisuuf, akeekkachiisuuf, sirreessuu fi qajeelummaan leen-
jisuuf ni fayyadu; [17] kunis akka namni Waaqaa hojii gaarii hundumaaf guutummaatti
hidhatee qophaa’uuf.

# 4

### *Dubbicha Akka Lallabu Ajajuu Isaa*

[1] Ani fuula Waaqaa duratti, fuula Kiristoos Yesuus isa warra jiraatanii fi warra
du’anitti muruuf jiruu durattis mul’achuu isaatii fi mootummaa isaatiin sin gorsa.
[2] Dubbicha lallabi; yeroo mijaa’aattis ta’u yeroo hin mijoofnetti qophaa’i; obsa
guddaa fi barsiisa of eeggannaatiin sirreessi; ifadhu; jajjabeessis. [3] Yeroon itti
namoonni barsiisa dhugaa dhaga’uuf obsa hin qabaanne ni dhufaatii. Qooda kanaa
akka waan gurri isaanii inni hooqsisu sun dhaga’uu barbaadu itti himaniif hawwii

isaanii guutachuuf barsiistota baay’ee ofii isaaniitiif walitti qabatu. 4 Gurra isaaniis
dhugaa dhaga’uu irraa garagalchanii gara oduu hundee hin qabneetti deebisu.
5 Ati garuu waan hunda keessatti ilaallachaa deemi; rakkina obsi; hojii tajaajilaan
wangeelaa tokko hojjetu hojjedhu; tajaajila kees fiixaan baasi.
6 Ani ammuma iyyuu akka dhibaayyuutti dhangalaafamuuf qophaa’eera; yeroon
deemsa koos ga’eera. 7 Ani lola gaarii loleera; dorgommii xumureera; amantiis
eegeera. 8 Amma gonfoon qajeelummaa na eeggata; isas Abbaa Murtii qajeelaa,
Gooftichatu guyyaa sana naa kenna; kanas warra mul’achuu isaa jaallatan hundaaf
kenna malee ana qofaaf miti.

*Yaadachiisa Dhumaa*

9 Dafii gara koo kottu; 10 Deemaas addunyaa kana jaallatee na dhiisee gara
Tasaloniiqee deemeeraatii. Qeerqis gara Galaatiyaa, Tiitoon immoo gara Dilmaaxiyaa
deemaniiru. 11 Luqaas qofatu na bira jira. Maarqos waan tajaajila koo keessatti na
gargaaruuf isa of duukaa fidii kottu. 12 Ani Xikiqoosin Efesoonitti ergeera. 13 Ati
yommuu dhuftutti waaroo ani Xiroo’aasitti Kaariphoos biratti dhiisee fi kitaabota
maramoo, keessumattuu kitaabota gogaa duugamaa sana naa fidi.
14 Iskindiroos tumtuun naasii sun akka malee natti hammaate. Gooftaan akka hojii
isaatti ni deebisaaf. 15 Namichi kun waan akka malee ergaa keenya mormeef atis isa
irraa of eeggachuu qabda.
16 Yeroo ani falmata koo kan jalqabaa dhi’eeffadhetti hundi isaanii iyyuu na
dhiisanii deeman malee namni tokko iyyuu na hin gargaarre. Anis akka wanni
kun isaanitti hin lakkaa’amneef Waaqa nan kadhadha. 17 Garuu akka karaa
kootiin ergaan guutummaatti lallabamuu fi akka Namoonni Ormaa hundi dhaga’aniif
Gooftaan na bira dhaabatee na jajjabeesse. Anis afaan leencaa jalaa nan baafame.
18 Gooftaan waan hamaa hunda jalaa na baasee mootummaa isaa kan samiiti
nagumaan na galcha. Bara baraa hamma bara baraatti ulfinni isaaf haa ta’u. Ameen.

*Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

19 Phirisqilaa fi Aqiilaatti, warra mana Oneesifooros jiraatanittis nagaa naa himi.

20 Erisxoos Qorontositti hafe; Xiroofiimoos immoo dhukkubsannaan ani Miilex-
oositti isa dhiise. 21 Gannaan dura dafii kottu.

Ewugiloos nagaa siif dhaama; Phuudeniis, Liinoos, Qilaawudiyaa fi obboloonni hundinuus akkasuma nagaa siif dhaamu.

22 Gooftaan hafuura kee wajjin haa ta’u. Ayyaanni si wajjin haa ta’u.

# Tiitoo

*Nagaa gaafachuu*

1 Phaawulos isa amantii filatamtoota Waaqaatii fi dhugaa beekuu gara Waaqaaf
buluutti nama geessuuf garbicha Waaqaatii fi ergamaa Yesuus Kiristoos ta’e irraa;
2 kunis abdii jireenya bara baraa isa Waaqni hin sobne sun jalqaba addunyaatiin dura
waadaa gale irratti kan hundeeffamee dha; 3 innis yommuu yeroon murteeffame
sun ga’etti karaa lallaba isa ajaja Fayyisaa keenya Waaqaatiin imaanaa natti
kennameetiin dubbii isaa ifatti baaseera,

4 Gara Tiitoo isa amantii walii wajjin qabnuun ilma koo dhugaa ta’eetti:

Waaqa Abbaa fi Fayyisaa keenya Kiristoos Yesuus irraa ayyaannii fi nagaan siif haa ta’u.

*Jaarsolii Waan Gaarii Jaallatan Filachuu*

5 Sababiin ani Qareexitti si hambiseef akka ati waan utuu hin xumuramin hafe
toora qabsiiftuu fi akkuma ani si ajajettis magaalaawwan hunda keessatti jaarsolii
muudduuf ture. 6 Jaarsi tokko kan mudaa hin qabne, dhirsa niitii tokkittii, kan
ijoolleen isaa amananii jireenya gad dhiisiitii fi ajajamuu diduun maqaan isaanii
hin badin ta’uu qaba. 7 Phaaphaasiin tokko sababii hojiin Waaqaa imaanaa isatti
kennameef inni nama mudaa hin qabne ta’uu qaba malee kan of tuulu, kan dafee
aaru, kan machaa’u, kan lola jaallatuu fi kan karaa hin malleen bu’aa argachuuf
tattaaffatu ta’uu hin qabu. 8 Qooda kanaa inni nama keessumaa simatu, nama waan
gaarii jaallatu, kan of qabu, qajeelaa, qulqulluu fi nama naamusa qabu ta’uu qaba.
9 Inni akka barsiisa dhugaatiin warra kaan gorsuu, warra barsiisa sanaan morman
immoo akka dogoggora isaanii itti himee amansiisuu danda’uuf akkuma barsiifametti
dubbii amanamaa sana jabeessee qabachuu qaba.

*Warra Waan Gaarii Hin hojjenne Ifachuu*

10 Finciltoonni baay’een, warri dubbii faayidaa hin qabne dubbatanii fi gowwoom-
sitoonni keessumattuu miseensonni garee warra dhagna qabatanii hedduutu jiraatii.
11 Isaan bu’aa hin malle argachuuf jedhanii waan barsiisuun isaan irra hin jirre
barsiisuudhaan waan maatii guutuu diiganiif afaan qabachiifamuu qabu. 12 Raajota
isaanii keessaa tokko, “Warri Qareexi yeroo hunda sobdoota; bineensota hamoo
dha; albaadheyyii dhibaa’oo dha” jedheera. 13 Dhuga ba’umsi kun dhugaa dha.
Kanaafuu akka isaan amantii dhugaa qabaataniif jabeessii isaan ifadhu. 14 Akka isaan
mammaaksa Yihuudootaa kan hundee hin qabne yookaan ajaja warra dhugaadhaan
mormanii duukaa hin buuneefis jabeessii isaan ifadhu. 15 Warra qulqullaa’oof wanni
hundinuu qulqulluu dha; warra xuraa’oo fi warra hin amanneef garuu wanni tokko
iyyuu qulqulluu miti. Dhugumaanuu yaadni isaaniitii fi qalbiin isaanii xuraa’eera.
16 Isaan nu Waaqa beekna jedhu; hojii isaaniitiin garuu isa ganu. Isaan jibbamoo
dha; warra hin ajajamnee fi warra waan gaarii tokko iyyuu hojjechuuf ga’umsa hin
qabnee dha.

## 2

*Wangeelaaf Jecha Waan Gaarii Hojjechuu*

[1] Ati garuu waan barsiisa dhugaa wajjin deemu barsiisi. [2] Jaarsoliin akka amala
qabeeyyii, kabajamoo fi warra of qaban ta'aniif, akkasumas akka warra amantii
dhugaa, jaalalaa fi obsa qabaatan barsiisi.

[3] Akkasuma immoo jaartoliin akka jireenya isaaniitiin kabajamoo ta'an, akka
waan gaariis barsiisan malee akka maqaa nama hin balleessine yookaan akka
dhugaatii daadhii wayinii baay'eetiin hin fudhatamne isaan barsiisi. [4] Yoos isaan
akka dubartoonni shamarran dhirsoota isaanii fi ijoollee isaanii jaallatan barsiisuu ni
danda'u; [5] akka dubbiin Waaqaa hin tuffatamneefis akka of qaban, akka qulqullaa'an,
akka hojii mana keessaatiin qabaman, akka arjoota ta'an, akka dhirsoota isaaniitiif
ajajaman ni barsiisu.

[6] Akkasumas dargaggoonni akka of qabaniif gorsi. [7] Waan hunda keessatti
waan gaarii hojjechuun fakkeenya isaaniif ta'i. Barsiisa kee keessatti amanamaa,
kabajamaa fi nama akka salphaatti hin ilaalamne ta'i; [8] akka warri siin morman
waa'ee keenya waan hamaa dubbatan tokko illee dhabanii qaana'aniifis dubbii
dhugaa kan tuffatamuu hin dandeenye dubbadhu.

[9] Garboonni waan hundaan akka gooftota isaaniitiif ajajaman, akka gooftota isaanii
gammachiisuu yaalan, akka waan gooftonni isaanii dubbataniif deebii mormii hin
deebifne barsiisi; [10] akka isaan gooftota isaanii jalaa hin hanne, garuu akka barsiisni
Fayyisaa keenya Waaqaa karaa hundumaan hawwataa ta'u gochuuf akka isaan
amanamummaa guutuu argisiisan barsiisi.

[11] Ayyaanni Waaqaa kan fayyina fidu nama hundatti mul'ifameeraatii. [12] Ayyaanni
kunis Waaqa malee jiraachuu fi hawwii addunyaa ganuun bara kana keessa jireenya
of qabiisaa, jireenya qajeelummaatii fi jireenya Waaqatti buluu akka jiraannu nu
barsiisa; [13] kunis yommuu nu abdii keenya isa eebbifamaa jechuunis mul'achuu
ulfina Waaqa keenya guddichaatii fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos eeggachaa
jirrutti ta'a; [14] innis hammina hunda irraa nu furuu fi saba ofii isaa warra waan
gaarii hojjechuuf hinaafan ofiif qulqulleeffachuuf jedhee of dabarsee nuuf kenneera.

[15] Egaa wantoonni ati barsiisuu qabdu kanneenii dha. Taayitaa guutuun jajjabeessi;
ifadhus. Namni tokko iyyuu si hin tuffatin.

# 3

*Waan Gaarii Hojjechuudhaaf Fayyifamuu*

[1] Ati akka namoonni bulchitootaa fi abbootii taayitaatiif bulan, akka ajajamanii fi
akka waan gaarii kam iyyuu hojjechuuf qophaa'oo ta'an yaadachiisi; [2] akka isaan
maqaa nama tokko illee hin balleessine, akka namoota nagaatii fi obsa qabeeyyii
ta'an, akka nama hundaaf garraamummaa argisiisanis yaadachiisi.

[3] Nu mataan keenyas duraan warra gowwoota, warra hin ajajamne, warra gow-
woomfamnee fi warra dharraa hamaa fi gammachuu gosa hundaatiif garboomfamne
turre. Namootaan jibbamaa fi walis jibbaa, hamminaa fi hinaaffaan jiraachaa
turre. [4] Yommuu gaarummaa fi jaalalli Fayyisaa keenya Waaqaa mul'atetti garuu,
[5] inni sababii qajeelummaa nu hojjenneetiif utuu hin ta'in sababii araara isaatiif
jedhee nu fayyise. Inni dhiqannaa lammata dhalachuutii fi haaromsuu Hafuura
Qulqulluutiin nu fayyise; [6] hafuurri kunis isa Waaqni karaa Fayyisaa keenya Yesuus
Kiristoosiin arjummaadhaan nurratti dhangalaase sana; [7] kunis akka nu ayyaana
isaatiin qajeeltota taasifamnee abdii jireenya bara baraa qabaachuun dhaaltota
taanuuf. [8] Jechi kunis amanamaa dha. Warri Waaqa amanatan akka waan gaarii
hojjechuuf of eeggannaan of kennan, akka ati cimsitee waan kana dubbattu nan
barbaada. Kunis waan akka malee gaarii fi waan nama hundumaa fayyaduu dha.

[9] Ati garuu falmii faayidaa hin qabnee fi hidda dhalootaa lakkaa'uu irraa, waa'ee
seeraa irratti wal mormuu fi wal loluu irraa fagaadhu; kun waan bu'aa hin qabnee
fi waan hin fayyadnee dhaatii. [10] Nama gargar ba'uu fidu tokko yeroo tokko
akeekkachiisi; yeroo lammaffaas akeekkachiisi. Ergasii immoo isa irraa fagaadhu.
[11] Namni akkasii akka micciiramaa fi cubbamaa ta'e atuu beekta; inni nama ofuma
isaatti muruu dha.

*Gorsa Dhumaa*

[12] Ani waanan yeroo gannaa Niqoophiliyoonitti dabarsuuf murteesseef akkuma
ani Arxemaas yookaan Xikiqoosin sitti ergeen dafii kottu. [13] Zenaas abukaattichaa
fi Apholoosin imala isaanii irratti gargaaruuf waan dandeessu hunda godhi; waan
isaan barbaachisu hunda qabaachuu isaanii illee mirkaneessi.

[14] Namoonni keenya akka waan guyyaa guyyaatti isaan barbaachisu hojjetanii argatanii fi akka jireenya bu'aa hin qabne hin jiraanneefis waan gaarii hojjechuuf of kennuu barachuu qabu.

[15] Warri na wajjin jiran hundinuu nagaa siif dhaamu.
Warra amantiin nu jaallatanitti nagaa nuuf himi.

Ayyaanni hunda keessan wajjin haa ta'u.

# Fiilmoonaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phaawulos isa Kiristoos Yesuusiif jedhee hidhamee fi obboleessa keenya Xiimote-
wos irraa,

Gara Fiilmoonaa isa jaallatamaa fi hojjetaa hidhata keenya ta'e sanaatti;
2 akkanumas gara obboleettii keenya Aphifiyaatti, gara Arkiphaa isa nu wajjin loltuu
ta'eetti, gara waldaa kiristaanaa ishee mana keetti walitti qabamtuuttis:

3 Abbaa keenya Waaqaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nagaan isiniif
haa ta'u.

*Galata Galchuu fi Kadhannaa*

4 Ani yeroo kadhannaa koo keessatti si yaadadhu hunda Waaqa koo nan galateef-
fadha; 5 ani waa'ee amantii kee kan ati Gooftaa Yesuusitti qabduu fi waa'ee jaalala kee
kan ati qulqulloota isaa hundaaf qabduu nan dhaga'aatii. 6 Ani akka ati waa'ee waan
gaarii nu Kiristoosiin qabnu hundumaa hubannaa guutuu qabaattee amantii kee
namaan ga'uuf jabaattu nan kadhadha. 7 Yaa obboleessa, waan ati garaa qulqullootaa
qabbaneessiteef jaalalli kee gammachuu fi jajjabina guddaa naa kenneera.

*Phaawulos Oneesimoosiif Kadhachuu Isaa*

8 Kanaafuu ani akka ati waan hojjechuu qabdu hojjetu si ajajuuf yoo Kiristoosiin ija
jabina qabaadhe illee, 9 sababii jaalalaatiif cimseen si kadhadha. Egaa ani Phaawulos
jaarsichii fi ammas Kiristoos Yesuusiif kanan hidhame, 10 ilma koo Oneesimoos isa ani
hidhamuu kootiin dhalche sanaaf sin kadhadha. 11 Inni kanaan dura nama homaa si
hin fayyadne ture; amma garuu siifis anaafis nama faayidaa qabu ta'eera.
12 Ani isa, nama akka garaa kootii sana deebisee gara keetti nan erga. 13 Ani
yeroon wangeelaaf hidhametti inni iddoo kee bu'ee akka na tajaajiluuf of biratti isa
hambifachuu barbaadeen ture. 14 Ani garuu gaarummaan kee utuu dirqamaan hin
ta'in fedhiidhaan akka ta'uuf waanuma tokko illee eeyyama kee malee gochuu hin
barbaanne. 15 Tarii inni yeroo gabaabaaf siin gargar ba'uun isaa akka ati deebiftee isa
simattee hamma dhumaatti of bira tursituuf ta'a; 16 atis si'achi akka garbichaatti utuu
hin ta'in, akka obboleessa jaallatamaa garbicha caalu tokkootti isa simadhu. Inni
keessumattuu erga anaaf akkas jaallatamaa ta'e siif immoo fooniinis Gooftaadhaanis
hammam caalaa jaallatamaa haa ta'u ree?
17 Egaa ati yoo akka michuu keetiitti na ilaalte akkuma na simatutti isas simadhu.
18 Yoo inni waanuma tokkoon illee si yakkee jiraate yookaan ati yoo waanuma tokko
illee isa irraa qabaatte natti lakkaa'i. 19 Ani Phaawulos siifan kaffala jedhee harkuma
kootiin barreesseera. Akka ati mataan kee iyyuu kan koo taate ani homaa sitti hin
himu. 20 Egaa yaa obboleessa, ani Gooftaadhaan faayidaa kana sirraa argachuu nan
barbaada; Kiristoositti garaa koo naa qabbaneessi. 21 Akka ati waan ani si kadhadhu
caalaa naa gootu beekuudhaan ajajamuu kee amanadhee siifan barreessa.

*Nagaa Dhaamuu fi Eebbisuu*

22 Kana malees ani kadhannaa keessaniin akkan isiniif kennamu waanan abdad-
huuf mana boqonnaa naa qopheessi.

23 Ephaafiraan inni Kiristoos Yesuusiif jedhee na wajjin hidhame nagaa siif dhaama.
24 Akkasumas warri na wajjin hojjetan Maarqos, Arisxirokoos, Deemaasii fi Luqaas
nagaa siif dhaamu.

25 Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hafuura keessan wajjin haa ta'u.

# Ibroota

*Dubbii Waaqayyoo Kan Xumuraa: Ilma Isaa*

1 Bara durii Waaqni yeroo baay’ee fi karaa adda addaatiin raajotaan abbootii keeny-
atti dubbatee ture; 2 bara dhumaa kana keessa garuu Ilma isaa kan inni dhaaltuu
waan hundumaa godhee muudeen nutti dubbate; isumaanis addunyaawwan uume.
3 Ilmi calaqqisa ulfina Waaqaa ti; eenyummaa Waaqaas akkuma jirutti mul’isa; dubbii
isaa humna qabeessa sanaanis waan hunda hirkisee baata. Innis erga cubbuu keenya
nurraa qulqulleessee booddee samii irra mirga Waaqa ulfina qabeessa sanaa taa’e.
4 Akkuma maqaan inni dhaale sun kan ergamootaa caalaa guddaa ta’e sana innis
ergamoota caalaa guddaa dha.

*Ilmi Ergamoota Caaluu Isaa*

5 Waaqni ergamoota keessaa isa kamiin,
“Ati Ilma koo ti;
ani har’a si dhalcheera”*
Yookaan isa kamiin,
“Ani isaaf Abbaa nan ta’a;
innis Ilma naa ta’a”†
jedhee beeka? 6 Akkasumas Waaqni yommuu Ilma isaa hangafa gara addunyaa
kanaatti ergutti,
“Ergamoonni Waaqaa hundi isa haa waaqeffatan”‡
jedha. 7 Yommuu waa’ee ergamootaa dubbatus,
“Inni ergamoota isaa hafuurota,
tajaajiltoota isaa immoo arraba ibiddaa godha”§
jedha. 8 Waa’ee Ilmaa garuu akkana jedha;
“Yaa Waaqayyo, teessoon kee bara baraa hamma bara baraatti ni jiraata;
bokkuun qajeelummaas bokkuu mootummaa keetii ni ta’a.
9 Ati qajeelummaa jaallatte; jal’ina immoo ni jibbite;
kanaafuu Waaqayyo Waaqni kee zayitii gammachuutiin si dibee,
hiriyoota kee si caalchise.”*
10 Akkasumas inni akkana jedha;
“Yaa Gooftaa, ati jalqabatti lafa hundeessite;
samiiwwanis hojii harka keetii ti.
11 Isaan ni badu; ati garuu ni jiraatta;
hundumti isaanii akkuma uffataa ni moofa’u;
12 ati akkuma wayyaatti isaan marta;
isaan akkuma uffataatti geeddaramu;
ati garuu sanuma;
umuriin kees gonkumaa dhuma hin qabu.”†
13 Waaqni ergamoota keessaa isa kamiin,
“Hamma ani diinota kee ejjeta miilla keetii godhutti,
gara mirga koo taa’i”‡
jedhe? 14 Ergamoonni hundinuu hafuurota tajaajilan kanneen warra fayyina dhaalan
tajaajiluuf ergaman mitii?

* **1:5** 1:5 Far 2:7 † **1:5** 1:5 2Sm 7:14; 1Sn 17:13 ‡ **1:6** 1:6 Far 104:4 § **1:7** 1:7 Far 104:4 * **1:9** 1:9 Far 45:6,7 † **1:12** 1:12 Far 102:25-27 ‡ **1:13** 1:13 Far 110:1

# 2

*Akeekkachiisa*

1 Kanaafuu nu akka waan dhageenye irraa hin jal'anneef waan sana irratti
xiyyeeffannoo guddaa gochuu qabna. 2 Sababiin isaas erga dubbiin ergamootaan
dubbatame sun eegamuu qabaatee, seera cabsuu fi ajajamuu diduun hundis erga
adabbii malu argatanii, 3 yoos nu yoo fayyina guddaa akkanaa tuffanne, akkamitti
adabbii kana jalaa baana ree? Fayyinni jalqabatti Gooftaadhaan labsame kun warra
dhaga'aniin nuuf mirkaneeffame. 4 Waaqni mallattoon, raajii fi hojii dinqii adda
addaatiin akkasumas kennaawwan Hafuura Qulqulluu kanneen akka fedhii isaatti
kennamaniin dhugaa ba'eera.

*Yesuus Guutummaatti Nama Taasifame*

5 Inni addunyaa dhufuuf jiru, kan nu waa'ee isaa dubbannu sana ergamoota jala
hin galchine. 6 Namni tokko garuu iddoo tokkotti akkana jedhee dhugaa ba'eera;

"Akka ati isaaf yaadduuf namni maali?
Akka isaaf dhimmituuf ilmi namaa maali?
7 Ati xinnoo ishee ergamootaa gad isa goote;
ulfinaa fi kabajaan isa gonfite;
hojii harka keetii irrattis isa muudde.
8 Waan hundas miilla isaa jala galchite."*

Inni yommuu waan hunda isa jala galchetti wanni inni utuu isa jala hin galchin
hambise tokko iyyuu hin jiru. Ta'us yeroo ammaa wanni hundinuu isa jala galee hin
arginu. 9 Garuu Yesuus inni ayyaana Waaqaatiin nama hundaaf du'a dhandhamuuf
jedhee xinnoo ishee ergamootaa gad ta'ee ture sun dhiphina du'aa waan dhiphateef
amma ulfinaa fi kabajaan gonfamee argina.

10 Waaqni wanni hundi isaaf jiraatuu fi isaan jiraatu sun ilmaan baay'ee gara ulfi-
naatti geessuuf jedhee mataa fayyina isaanii dhiphina kan hir'ina hin qabne gochuun
isaaf ni mala ture. 11 Inni namoota qulqulleessuu fi kanneen qulqulleeffaman hundi
kanuma abbaa tokkoo ti. Kanaafuu Yesuus obboloota jedhee isaan waamuu hin
qaana'u. 12 Inni,

"Maqaa kee obboloota kootti nan labsa;
waldaa kiristaanaa keessattis faarfannaadhaan sin jajadha"†

jedha. 13 Akkasumas,

"Ani isa nan amanadha"‡

jedha. Ammas inni,

"Anii fi ijoolleen Waaqayyo naa kenne kunoo ti"§

jedha.

14 Sababii ijoolleen sun foonii fi dhiiga qabaniif, Yesuusis du'a ofii isaatiin
diiyaabiloos isa du'a irratti humna qabu sana balleessuuf jedhee namummaa isaanii
qoodate; 15 innis warra bara jireenya isaanii hunda garbummaa sodaa du'aatiin
hidhamanii turan bilisa baasuuf jedhee waan kana godhe. 16 Inni dhugumaanuu
sanyii Abrahaam gargaaruuf malee ergamoota Waaqaa gargaaruuf miti. 17 Kanaafuu
inni Waaqa tajaajiluu keessatti akka luba ol aanaa araara qabeessaa fi amanamaa
ta'uuf, akka cubbuu namootaatiif araara buusuuf waan hundaan obboloota isaa
fakkaachuutu isa irra ture. 18 Inni mataan isaa waan dhiphina keessatti qorameef
warra qoramaa jiran gargaaruu ni danda'a.

* **2:8** 2:8 Far 8:4-6 † **2:12** 2:12 Far 22:22 ‡ **2:13** 2:13 Isa 8:17 § **2:13** 2:13 Isa 8:18

# 3

### *Yesuus Musee Caala*

1 Kanaafuu yaa obboloota qulqulloota, warra waamicha samii keessatti hirmaattan,
Yesuus ergamaa fi luba ol aanaa amantii keenyaa sana ilaalaa. 2 Akkuma Museen
mana Waaqaa hunda keessatti amanamaa ture sana innis isa isa muudeef amanamaa
ture. 3 Akkuma namni mana ijaaru tokko mana sana caalaa kabaja guddaa qabu,
innis Musee caalaa kabaja guddaa qaba. 4 Tokkoon tokkoon manaa namaan
ijaaramaatii; kan waan hunda ijaare garuu Waaqa. 5 Museen waan fuul duratti
dubbatamuuf jiru dhugaa ba'uuf akka tajaajilaa tokkootti mana Waaqaa hunda
keessatti amanamaa ture.* 6 Kiristoos garuu akka Ilmaatti mana Waaqaa irratti
amanamaa dha. Nus yoo ija jabina keenyaa fi abdii ittiin boonnu sana jabeessinee
qabanne, nu mana isaa ti.

### *Akeekkachiisa Amantii Dhabuu Irratti Kenname*

7 Kanaafuu akkuma Hafuurri Qulqulluun jedhu:
"Isin yoo har'a sagalee isaa dhageessan,
8 akka yeroo qorumsaa gammoojjii
keessatti finciluun gootan sana,
mataa hin jabaatinaa;
9 abbootiin keessan achitti na qoranii na ilaalan;
waggaa afurtamas waan ani hojjedhe argan.
10 Kanaafuu ani dhaloota sanatti aaree,
'Yeroo hunda qalbii isaaniitiin dogoggoru;
isaan karaa koo hin beekne' jedhe.
11 Kanaafuu ani dheekkamsa kootiin,
'Isaan boqonnaa kootti hin galan' jedhee kakadhe."†
12 Yaa obboloota, akka isin keessaa namni tokko iyyuu garaa hamaa fi hin amanne
kan Waaqa jiraataa irraa nama fageessu hin qabaanneef of eeggadhaa. 13 Garuu isin
keessaa akka namni tokko iyyuu gowwoomsaa cubbuutiin mata jabeessa hin taaneef
utuu "Har'a" jedhamaa jiruu guyyuma guyyaan wal jajjabeessaa. 14 Nus yoo amantii
keenya isa jalqabaa sana hamma dhumaatti jabeessinee qabanne Kiristoos wajjin
hirmaattota ni taanaatii. 15 Kunis akkuma,
"Isin yoo har'a sagalee isaa dhageessan,
akka yeroo fincilaa sana,
mataa hin jabaatinaa"‡
jedhamee barreeffamee dha.
16 Warri dhaga'anii fincilan sun eenyu? Warra Museen qajeelchee Gibxii baase
sana hunda mitii? 17 Waaqni waggaa afurtama eenyu faatti aare? Warruma cubbuu
hojjetanii reeffi isaanii gammoojjii keessatti kukkufe sanatti mitii? 18 Yoo warruma
ajajamuu didan sana ta'e malee Waaqni akka isaan gonkumaa boqonnaa isaatti hin
galleef eenyu faatti kakate ree? 19 Kanaafuu akka isaan sababii amantii dhabuu
isaaniitiif boqonnaa sanatti galuu hin danda'in argina.

# 4

### *Boqonnaa Guyyaa Sanbataa*

1 Kanaaf waadaan boqonnaa isaatti galuu sun amma iyyuu waan jiruuf isin keessaa
namni kam iyyuu utuu boqonnaa sanatti hin galin akka hin hafne of haa eeggannu.
2 Wangeelli isaanitti lallabame nuttis lallabameeraatii; garuu dubbiin lallabame sun

* **3:5** 3:5 Lak 12:7 † **3:11** 3:11 Far 95:7-11 ‡ **3:15** 3:15 Far 95:7,8

waan amantii isaaniitiin wal hin fudhanneef warra dhaga'an sanaaf faayidaa tokko
illee hin kennine. 3 Nu warri amanne boqonnaa sanatti ni galla; kunis akkuma inni,
"Kanaafuu ani dheekkamsa kootiin,
'Isaan boqonnaa kootti
hin galan' jedhee kakadhe"*
jedhu sanaa dha. Ta'us hojiin isaa uumama addunyaatii jalqabee xumurameera.
4 Innis iddoo tokkotti waa'ee guyyaa torbaffaa; "Waaqni guyyaa torbaffaatti hojii isaa
hundumaa irraa boqote"† jedhee dubbate. 5 Ammas inni iddoodhuma kanatti, "Isaan
boqonnaa kootti hin galan"‡ jedha.
6 Amma iyyuu akka namoonni tokko tokko itti galaniif iddoon boqonnaa sun
hambifameera; warri duraan wangeelli itti lallabame sun immoo sababii ajajamuu
didaniif boqonnaa sanatti hin galle. 7 Kanaafuu Waaqni deebisee guyyaa tokko
"Har'a" jedhee waamuudhaan murteesse. Innis akkuma kanaan dura dubbatame
sana bara dheeraa booddee karaa Daawitiitiin,
"Isin yoo har'a sagalee isaa dhageessan,
mataa hin jabaatinaa"§ jedha.
8 Utuu Iyyaasuun boqonnaa sanatti isaan galchee jiraatee, silaa Waaqni ergasii waa'ee
guyyaa biraa hin dubbatu tureetii. 9 Kanaafuu boqonnaan Sanbataa saba Waaqaatiif
kaa'ameera; 10 namni boqonnaa Waaqaatti galu kam iyyuu akkuma Waaqni hojii isaa
irraa boqote sana, innis hojii isaa irraa ni boqota.* 11 Kanaafuu akka namni tokko
illee fakkeenya ajajamuu diduu jara sanaa duukaa bu'ee boqonnaa sanatti galuu hin
dhabneef kottaa boqonnaa sanatti galuuf ni tattaaffannaa.
12 Dubbiin Waaqaa jiraataa fi kan hojjetuudhaatii. Goraadee qara lama qabu
kam iyyuu caalaa qaramaa dha; hamma lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gargar
baasutti waraanee seena; yaadaa fi fedhii garaa namaas ni qora. 13 Uumama hunda
keessaa wanti fuula Waaqaa duraa dhokatu tokko illee hin jiru. Wanti hundi ija isaa
duratti qullaa fi saaqamaa dha; nus waa'ee mataa keenyaa deebii kennuufii qabna.

### *Yesuus Luba Ol Aanaa Guddicha*

14 Egaa luba ol aanaa guddicha isa samiiwwan keessa darbe, Yesuus Ilma Waaqaa
waan qabnuuf kottaa amantii keenya jabeessinee qabannaa. 15 Nu luba ol aanaa
dadhabbii keenya keessatti garaa nuu hin laafne hin qabnuutii; garuu kan waan
hundaan akkuma keenya qorame qabna; ta'us inni cubbuu hin hojjenne. 16 Kanaafuu
akka araara argannuu fi akka ayyaana yeroo nu barbaachisutti nu gargaaru
argannuuf kottaa gara teessoo ayyaanaatti sodaa malee dhi'aannaa.

## 5

1 Tokkoon tokkoon luba ol aanaa namoota gidduudhaa filatamee waan Waaqa
ilaallatu irratti namoota iddoo bu'ee sababii cubbuutiif kennaa fi aarsaa dhi'eessuuf
muudama. 2 Inni mataan isaa iyyuu waan dadhabbii keessa jiruuf wallaaltotaa fi
warra karaa irraa jallataniif garaa laafuu ni danda'a. 3 Sababii kanaaf inni cubbuu
ofii isaatiif, akkasumas cubbuu namootaatiif aarsaa dhi'eessuu qaba. 4 Nama akkuma
Aroonitti Waaqaan waamame malee, namni kam iyyuu ulfina kana ofii isaatiif hin
fudhatu.
5 Kiristoosis akkasuma luba ol aanaa ta'uuf of hin ulfeessine. Waaqni garuu,
"Ati Ilma koo ti;
ani har'a si dhalcheera"*
jedheen. 6 Iddoo biraattis,
"Akkuma sirna Malkiiseedeqitti,

* 4:3 4:3 Far 95:11 † 4:4 4:4 Uma 2:2 ‡ 4:5 4:5 Far 95:11 § 4:7 4:7 Far 95:7,8 * 4:10 4:10 Uma 2:2
* 5:5 5:5 Far 2:7

ati luba bara baraa ti”†
jedha.
7 Yesuus yeroo lafa irra jiraachaa turetti iyya guddaa fi imimmaaniin isa du’a isa
oolchuu danda’u sanatti kadhannaa fi waammata dhi’eeffate; sababii inni sodaa
Waaqaa qabuufis kadhannaan isaa ni dhaga’ameef. 8 Inni Ilma ta’u iyyuu dhiphina
isaa sana irraa ajajamuu barate; 9 erga kan mudaa hin qabne taasifamee immoo
warra isaaf ajajaman hundaaf burqaa fayyina bara baraa ta’e. 10 Akka sirna
Malkiiseedeqittis luba ol aanaa jedhamee Waaqaan waamame.

### *Akeekkachiisa*

11 Nu waa’ee isaa waan jennu baay’ee qabna; isin garuu waan hubachuutti
dadhaboo taataniif isinii ibsuun rakkisaa dha. 12 Isin yeroo kanatti barsiistota ta’uu
qabdu ture; isin immoo nama waa’ee dhugaa dubbii Waaqaa kan jalqabaa irra
deebi’ee isin barsiisutu isin barbaachisa. Nyaata jabaataas utuu hin ta’in aannan isin
barbaachisa. 13 Namni aannaniin jiraatu kam iyyuu waan amma illee daa’ima ta’eef
dubbii qajeelummaa hin beeku. 14 Nyaanni jabaataan garuu namoota bilchaatoo
kanneen waan gaarii fi waan hamaa gargar baasanii beekuuf of leenjisaniif ta’a.

## 6

1 Kanaafuu kottaa barsiisa waa’ee Kiristoos isa jalqabaa sana dhiifnee gara
bilchinaatti dabarraa; waa’ee hojii gara du’aatti nama geessuu irraa deebi’uu fi
waa’ee Waaqatti amanuu lammata hundee hin buufnu; 2 akkasumas barsiisa waa’ee
cuuphaa, waa’ee harka nama irra kaa’uu, waa’ee du’aa ka’uu warra du’aniitii fi
waa’ee murtii bara baraa ammas hundee hin buufnu. 3 Nus yoo Waaqni jedhe waan
kana ni goona.
4 Warra yeroo tokko ifni ifeefii kennaa samii dhandhamatan, kanneen Hafuura
Qulqulluu irraa qooddatan, 5 warra gaarummaa dubbii Waaqaatii fi humna bara
dhufuuf jiru sanaa dhandhamatanii 6 ergasii garuu amantii irraa gara galan, gara
qalbii jijjiirrannaatti isaan fiduun hin danda’amu; sababiin isaas isaan fedhuma
isaaniitiin deebisanii Ilma Waaqaa ni fannisu; fuula namootaa durattis salphinatti
isa saaxilu. 7 Lafti bokkaa yeroo baay’ee irratti roobu dhugdee warra ishee
qotataniif midhaan fayyadu kennitu eebba Waaqaa argatti. 8 Lafti qoraattii fi
sokorruu biqilchitu garuu faayidaa hin qabdu; abaaramuus geesseerti. Dhumni
ishees gubamuu dha.
9 Yaa michoota jaallatamtoota, nu yoo akkana dubbanne illee waa’ee keessan waan
wayyu, waan fayyina wajjin deemus akka qabdan mirkaneeffanneerra. 10 Waaqni
qulqulloota tajaajiluu keessanii fi ammas tajaajiluu keessaniin hojii isin hojjettanii
fi jaalala maqaa isaatiif argisiiftan irraanfachuuf jal’aa mitiitii. 11 Nus akka tokkoon
tokkoon keessan abdii keessan mirkaneessitanii hamma dhumaatti tattaaffii akkanaa
argisiiftan barbaanna. 12 Nu akka isin fakkeenya warra amantii fi obsaan waan
waadaa galame sana dhaalanii duukaa buutan barbaanna malee akka isin dhibaa’oo
taatan hin barbaannu.

### *Waadaan Waaqaa Amanamaa Ta’uu Isaa*

13 Waaqni yeroo Abrahaamiif waadaa galetti kan isa caalu kan inni ittiin kakatu
tokko iyyuu waan hin jirreef matuma ofiitiin kakate. 14 Innis, “Ani dhugumaan eebba,
sin eebbisa; baay’isuus si baay’isa”* jedha. 15 Kanaafuu Abrahaam obsaan eeggatee
waan waadaa galame sana argate.
16 Namoonni kan isaan caaluun kakatu; kakuun sunis waan jedhame sana
mirkaneessee akka falmiin hundumtuu fiixaan ba’u godha. 17 Waaqni haala kaayyoo

† **5:6** 5:6 Far 110:4 * **6:14** 6:14 Uma 22:17

isaa kan hin geeddaramne sana caalaatti ibsee warra waadaa dhaalanitti argisiisuu
waan barbaadeef waadaa sana kakuudhaan cimse. [18] Egaa waan hin geeddaramne
kan Waaqni waa'ee isaanii sobuu hin dandeenye lamatu jira; kanaafuu nu warri
isatti baqanne abdii fuula keenya dura kaa'ame sana jabeessinee qabachuuf jajjabina
guddaa qabna. [19] Nus abdii kana akka hiituu dooniitti lubbuuf qabna. Abdiin kunis
iddoo qulqulluu golgaa duuba jiru sana ol seena; [20] iddoon kunis kan Yesuus iddoo
keenya bu'ee nu dursee itti ol seenee dha. Innis akka sirna Malkiiseedeqitti luba ol
aanaa bara baraa ta'eera.

# 7

*Malkiiseedeq Lubicha*

[1] Malkiiseedeq mootii Saalemiitii fi luba Waaqa Waan Hundaa Olii ture. Innis
utuu Abrahaam mootota mo'atee deebi'uu itti dhufee isa eebbise; [2] Abrahaamis
waan hundumaa kudhan keessaa tokko isaaf kenne. Jalqabatti maqaan isaa, "Mootii
qajeelummaa" jechuu dha; ergasii immoo, "Mootii Saalem" jechuunis, "Mootii nagaa"
jechuu dha. [3] Inni abbaa yookaan haadha hin qabu; hidda dhalootaas hin qabu;
jalqaba guyyootaa yookaan dhuma jireenyaas hin qabu; inni akkuma Ilma Waaqaatti
luba bara baraa ta'ee jiraata.

[4] Egaa Abrahaam hangafni abbootii iyyuu erga waan booji'e irraa kudhan keessaa
tokko isaaf kennee, Malkiiseedeq hammam guddaa akka ta'e mee ilaalaa! [5] Ilmaan
Lewwii warri luboota ta'an yoo obboloonni isaanii sanyii Abrahaam ta'an iyyuu
namoota irraa jechuunis obbolootuma isaanii irraa kudhan keessaa tokko akka
fudhatan seerri ni ajaja. [6] Namichi sanyii isaanii irraa hin ta'in kun garuu Abrahaam
isa waadaan galameef sana irraa kudhan keessaa tokko fudhatee isa eebbise. [7] Inni
xinnaan akka isa guddaadhaan eebbifamu shakkii hin qabu. [8] Karaa tokkoon kudhan
keessaa tokko namoota du'a hin oolleen walitti qabama; karaa kaaniin immoo
isa jiraataa ta'uun isaa dhugaa ba'ameef sanaan walitti qabama. [9] Lewwiin inni
kudhan keessaa tokko walitti qabu mataan isaa iyyuu kudhan keessaa harka tokko
karaa Abrahaamiitiin baaseera jechuun ni danda'ama; [10] Malkiiseedeq yommuu
Abrahaamin simatetti Lewwiin mudhii abbaa ofii isaa keessa tureetii.

*Yesuus Akka Malkiiseedeqiiti*

[11] Utuu sirni lubummaa Lewwii kan hir'ina hin qabne ta'ee, silaa lubni biraa
kan akka sirna lubummaa Aroonitti utuu hin ta'in lubni akka sirna lubummaa
Malkiiseedeqitti filatame dhufuun isaa maaliif barbaachise ree? Seerri sirna
lubummaa Lewwii kana irratti hundeeffamee sabaaf kennameetii. [12] Yommuu
lubummaan geeddaramu seerichis akkasuma geeddaramaatii. [13] Inni wanni kun
waa'ee isaa dubbatame sun gosti isaa kan biraa ti; gosa kana keessaas namni tokko
iyyuu takkumaa iddoo aarsaa hin tajaajille. [14] Gooftaan keenya akka sanyii Yihuudaa
irraa dhalate beekamaadhaatii; Museenis gosa sana ilaalchisee waa'ee lubummaa
homaa hin dubbanne. [15] Yommuu lubni akka Malkiiseedeqi kan biraa ka'utti, wanni
nu dubbanne sun ittuma caalee ifa ta'a; [16] innis utuu ajaja fooniitiin hin ta'in humna
jireenya hin badneetiin luba ta'e. [17] Waa'ee isaas,
"Akkuma sirna Malkiiseedeqitti,
ati luba bara baraa ti"*
jedhamee dhugaa ba'ameeraafiitii.

[18] Ajajni duraa sun waan dadhabaa fi kan hin fayyadne tureef diigameera.
[19] Sababii seerri waanuma tokko illee kan mudaa hin qabne hin godhiniif abdiin
caalu kan nu ittiin gara Waaqaatti dhi'aannu tokko dhufeera.

---

* **7:17** 7:17 Far 110:4

20 Kunis kakaa malee hin taane! Warri kaan immoo kakaa tokko malee luboota
ta'an; 21 inni garuu yeroo Waaqni,
"Gooftaan, 'Ati luba bara baraa ti'
jedhee kakateera;
inni yaada isaa hin geeddaru"†
isaan jedhetti kakaadhaan luba ta'e. 22 Yesuus sababii kakaa kanaatiif kakuu caaluuf
wabii ta'eera.
23 Luboonni durii sababii duuti akka isaan tajaajila itti hin fufneef isaan dhowweef
baay'ee turan; 24 Yesuus garuu waan bara baraan jiraatuuf lubummaa hin geed-
daramne qaba. 25 Kanaaf inni yeroo hundumaa waan isaaniif kadhachuuf jiraatuuf
warra karaa isaatiin gara Waaqaa dhufan guutumaan guutuutti fayyisuu ni danda'a.
26 Egaa luba ol aanaa qulqulluu, kan mudaa hin qabne, kan xurii hin qabne,
kan cubbamoota irraa adda ta'e, samii olittis kan kabajame akkasii qabaachuun
nu barbaachisa. 27 Inni akka luboota ol aantota kaaniitti guyyuma guyyaan duraan
dursee cubbuu ofii isaatiif, ergasii immoo cubbuu namootaatiif aarsaa dhi'eessuun
isa hin barbaachisu. Inni yommuu of kenne sanatti al tokko yeroo hundaaf cubbuu
namootaatiif aarsaa dhi'eesseeraatii. 28 Seerichi namoota dadhaboo, luboota ol
aantota godhee muudaatii; dubbiin kakaa kan seera booddee dhufe garuu, Ilma
Waaqaa isa bara baraan mudaa hin qabne sana muuda.

# 8

### *Luba Ol aanaa Kakuu Haaraa*

1 Waan nu dubbannu keessaa ijoon kana: Nu luba ol aanaa samii irra karaa mirga
teessoo Isa Ulfina Qabeessa Samii keessaa sanaa taa'e akkasii qabna. 2 Innis iddoo
qulqullummaa fi dunkaana isa dhugaa kan utuu namaan hin ta'in Gooftaadhaan
dhaabame keessa tajaajila.
3 Lubni ol aanaan kam iyyuu kennaa fi aarsaa dhi'eessuuf muudama; kanaafuu
lubni kun waan dhi'eessu tokko qabaachuu qaba. 4 Waan luboonni akka seeraatti
kennaa dhi'eessan duraanuu jiraniif, inni utuu lafa irra jiraatee silaa luba hin
ta'u ture. 5 Isaanis iddoo qulqullummaa kan fakkeenyaa fi gaaddidduu wantoota
samii tajaajilu. Waaqnis yommuu Museen dunkaana qulqulluu dhaabuuf ka'etti,
"Waan hunda akkuma fakkeenya tulluu irratti sitti argisiifame sanaatti hojjechuu
kee mirkaneeffadhu!"* jedhee isa akeekkachiisuun isaa kanumaaf. 6 Garuu akkuma
kakuun inni Yesuus gidduu galeessa ta'eef sun kakuu moofaa akka malee caalu sana
tajaajilli inni fudhates tajaajila isaanii irra guddaa dha; kakuun haaraan waadaa
caalu irratti hundeeffameetii.
7 Utuu kakuun jalqabaa sun mudaa qabaachuu baatee silaa kakuun lammaffaan hin
barbaachisu ture. 8 Waaqni garuu saba sana irratti balleessaa argee akkana jedha;
"Yeroon ani itti mana Israa'el wajjin,
mana Yihuudaa wajjinis,
kakuu haaraa galu ni dhufa
jedha Gooftaan.
9 Kakuun kunis kakuu ani,
yeroo biyya Gibxiitii isaan baasuuf jedhee
harka isaanii qabe sana
abbootii isaanii wajjin gale sanaan tokko miti;
isaan kakuu kootti jabaatanii waan hin dhaabatiniif,
ani isaan irraa gara galeera,
jedha Gooftaan.

† **7:21** 7:21 Far 110:4 * **8:5** 8:5 Bau 25:40

10 Kakuun ani yeroo sana booddee
mana Israa'el wajjin galu kanaa dha, jedha Gooftaan.
Ani seera koo qalbii isaanii keessa nan kaa'a;
garaa isaanii keessattis nan barreessa.
Ani Waaqa isaanii nan ta'a;
isaanis saba koo ni ta'u.
11 Sababii hundi isaanii,
xinnaa hamma guddaatti na beekaniif,
si'achi namni kam iyyuu, 'Gooftaa beeki' jedhee,
ollaa isaa yookaan obboleessa isaa hin barsiisu.
12 Ani daba isaanii nan dhiisaaf;
cubbuu isaaniis si'achi hin yaadadhu."†
13 Innis kakuu kanaan "haaraa" jedhee kakuu jalqabaa sana moofesseera; wanni
moofa'ee fi wanni dulloome dafee bada.

# 9

### *Iddoo Qulqulluu Isa Lafaa Keessatti Waaqeffachuu*

1 Kakuun jalqabaa sun iyyuu sirna waaqeffannaatii fi iddoo qulqulluu isa lafa irraa
qaba ture. 2 Dunkaanni qulqulluun dhaabamee ture. Kutaan dunkaana sanaa kan
jalqabaa, "Iddoo Qulqulluu" jedhama ture; kutaa kana keessas baattuu ibsaatii fi
minjaala akkasumas buddeena qulqulleeffametu ture. 3 Golgaa lammaffaa duubaan
immoo kutaa, "Iddoo Hundumaa Caalaa Qulqulluu" jedhamu tokkotu ture. 4 Achis
iddoo aarsaa ixaanaa kan warqee irraa hojjetamee fi taabota kakuu kan karaa
hundaan warqee dibametu ture. Taabota sana keessas okkotee warqee kan mannaa
baatu, ulee Aroon inni latee fi gabatee dhagaa kan kakuun sun irratti barreeffametu
kaa'ame. 5 Taaboticha gubbaadhaanis kiirubeeliin Ulfinaa teessoo araaraa irra
golboobanii turan. Amma garuu waa'ee kanaa gad fageenyaan dubbachuu hin
dandeenyu.
6 Luboonni yommuu wanni hundinuu haala kanaan qopheeffametti tajaajila
kennuuf jedhanii yeroo hunda dunkaana qulqulluu isa jalqabaa seenu turan.
7 Dunkaana isa lammaffaa garuu luba ol aanaa qofatu waggaatti yeroo tokko qofa
seena; innis dhiiga cubbuu ofii isaatiif dhi'eessuu fi dhiiga cubbuu namoonni utuu
hin beekin hojjetaniif dhi'eessu qabatu malee hin seenu ture. 8 Hafuurri Qulqulluunis
hamma dunkaanni jalqabaa sun dhaabatee jirutti akka karaan gara Iddoo Iddoo
Hunda Caalaa Qulqulluu ta'eetti geessu sun amma illee hin mul'ifamin haala kanaan
argisiisaa ture. 9 Kunis fakkeenya bara ammaa ti; innis akka kennaa fi aarsaan
dhi'eeffamu sun qalbii waaqeffataa tokkoo qulqulleessuu hin dandeenye mul'isa.
10 Innis waa'ee nyaataatii fi dhugaatii, waa'ee sirna dhiqannaa garaa garaa jechuunis
sirna foonii isa hamma seerichi haaromfamutti faayidaa kennaa ture qofa.

### *Dhiiga Kiristoos*

11 Kiristoos garuu yommuu waan gaarii dhufuuf jiruuf luba ol aanaa ta'ee
dhufetti, dunkaanicha guddaa mudaa hin qabne, kan harka namaatiin hin hojjetamin
jechuunis kan uumama kana irraa hin dhufin sana keessa darbe. 12 Dhiiga re'ootaatii
fi dhiiga jabbootaatiin hin seenne; garuu furii bara baraa nuu fiduudhaan dhiiguma
ofiitiin yeroo tokko bara baraan gara Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta'e
sanaatti seene. 13 Erga dhiigni re'ootaa, dhiigni korommiitii fi daaraan goromsaa kan
warra xuraa'anitti facaafamu akka isaan fooniin qulqullaa'an godhee, 14 yoos dhiigni
Kiristoos isa karaa Hafuura bara baraatiin aarsaa hir'ina hin qabne ta'ee Waaqaaf

† **8:12** 8:12 Erm 31:31-34

of dhi’eesse sanaa akka nu Waaqa jiraataa tajaajilluuf hammam caalaa hojii gara
du’aatti nama geessu irraa qalbii keenya haa qulqulleessuu ree!
15 Sababii kanaaf akka warri waamaman dhaala bara baraa isa abdii kenname
sana argataniif Kiristoos araarsaa gidduu galeessa kakuu haaraa ti; inni cubbuu isaan
yeroo kakuu jalqabaa jala turanitti hojjetan irraa isaan bilisoomsuuf jedhee furii ta’ee
du’eeraatii.
16 Iddoo dhaamsi dhaalaa jirutti du’a namicha dhaamate sanaa mirkaneessuun
barbaachisaa dha; 17 dhaamsi dhaalaa yommuu namni dhaamate sun du’u qofa
hojii irra oola malee utuu inni lubbuun jiruu hin hojjetuutii. 18 Sababiin kakuun
jalqabaa iyyuu dhiiga malee hojii irra hin ooliniifis kanuma. 19 Museen erga ajaja
seera sanaa tokko tokkoon saba sana hundatti himee booddeetti, dhiiga jabbootaatii fi
dhiiga re’ootaa bishaan wajjin, rifeensa hoolaa bildiimaa fi hiisophii fuudhee kitaaba
maramaa fi saba hundatti facaase. 20 Innis, “Kun dhiiga kakuu kan Waaqni isiniif
ajajee dha”* jedhe. 21 Haaluma wal fakkaatuunis dunkaanichattii fi mi’a dunkaanicha
keessatti sirna waaqeffannaatiif itti fayyadaman hundumatti dhiiga sana facaase.
22 Dhugumaan akka seeraatti wantoota muraasa malee wanni hundinuu dhiigaan
qulqulleeffama; dhiigni dhangalaafamu malees dhiifamni cubbuu hin jiru.
23 Kanaafuu fakkeenyawwan waan samii irraa aarsaawwan kanneeniin qulqulleef-
famuun barbaachisaa ture; wanni samii irraa mataan isaa garuu aarsaawwan waan
kanneen caalaniin qulqulleeffamuu isaan barbaachisa. 24 Kiristoos amma iddoo
keenya bu’ee fuula Waaqaa duratti argamuuf samii seene malee iddoo qulqulluu
kan harka namaatiin ijaarame isa fakkeenya iddoo qulqulluu kan dhugaa ta’e hin
seenne. 25 Yookaan inni akkuma luba ol aanaa wagguma waggaan dhiiga kan isaa
hin ta’in qabatee Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta’e seenu sanaatti yeroo
baay’ee of dhi’eessuuf samii hin seenne. 26 Utuu akkas ta’ee silaa Kiristoos uumama
addunyaatii jalqabee yeroo baay’ee dhiphachuu qaba ture. Amma garuu inni ofii
isaa aarsaa godhee cubbuu balleessuuf dhuma baraatti yeroo tokko bara baraan
mul’ateera. 27 Akkuma yeroo tokko du’uun ergasii immoo murtiitti dhi’aachuun
namatti murteeffame sana 28 akkasuma immoo Kiristoos cubbuu namoota baay’ee
baachuuf jedhee yeroo tokko aarsaa ta’eera; yeroo lammaffaa immoo cubbuu
baachuuf utuu hin ta’in warra isa eeggachaa jiraniif fayyina fiduuf ni mul’ata.

# 10

*Kiristoos Aarsaa Ta’uu Isaa*

1 Seerri gaaddidduu waan gaarii dhufuuf jiruu qofa malee bifa dhugaa miti.
Kanaafuu seerichi aarsaa utuu wal irraa hin citin wagguma waggaan dhi’eeffamu
sanaan gonkumaa namoota waaqeffachuuf dhi’aatan sana warra mudaa hin qabne
gochuu hin danda’u. 2 Utuu isaan waan kana gochuu danda’anii silaa aarsaan
dhi’eeffamuun isaa ni hafa ture mitii? Waaqeffattoonnis si’a tokko yeroo hundaaf
ni qulqulleeffamu turaniitii; ergasii sababii cubbuu isaaniitiif yakki isaanitti hin
dhaga’amu ture. 3 Aarsaawwan kunneen garuu wagguma waggaan cubbuu nama
yaadachiisu. 4 Sababiin isaas dhiigni korommiitii fi dhiigni re’ootaa gonkumaa
cubbuu dhabamsiisuu hin danda’uutii.
5 Kanaafuu Kiristoos yommuu gara addunyaa dhufetti akkana jedhe:
“Ati aarsaa fi kennaa hin feene;
garuu dhagna naa qopheessite;
6 ati aarsaa gubamuu fi
kennaa sababii cubbuutiif
dhi’eeffamutti hin gammanne.

* 9:20 9:20 Bau 24:8

7 Yeroo sana ani, ‘Ani kunoo ti;
waa’een koo kitaaba maramaa keessatti barreeffameera;
yaa Waaqa ko, ani fedhii kee raawwachuuf dhufeera’ nan jedhe.”*
8 Isaan akka seeraatti dhi’eeffaman iyyuu inni jalqabatti, “Ati qalmawwanii fi
aarsaawwan, aarsaawwan gubamanii fi aarsaawwan cubbuuf dhi’eeffaman hin
feene yookaan itti hin gammanne” jedhe. 9 Ergasiis inni, “Ani kunoo fedhii kee
raawwachuuf dhufeera” jedhe. Innis isa lammaffaa dhaabuuf jedhee isa jalqabaa
dhabamsiise. 10 Fedhii sanaanis nu aarsaa dhagna Yesuus Kiristoos isa si’a tokko
yeroo hundaaf dhi’eeffameen qulqulleeffamneerra.

11 Lubni hundinuu guyyuma guyyaan dhaabatee tajaajila isaa raawwata; aarsaa
gonkumaa cubbuu dhabamsiisuu hin dandeenye sanas yeroo hunda dhi’eessa.
12 Lubni kun garuu erga aarsaa tokkicha bara baraan cubbuudhaaf dhi’eessee
booddee gara mirga Waaqaa taa’e. 13 Yeroo sanaa jalqabees hamma diinonni isaa
ejjeta miilla isaa taasifamanitti ni eeggata; 14 inni aarsaa tokkicha sanaan warra
qulqulleeffamuutti jiran kanneen bara baraan mudaa hin qabne godheeraatii.

15 Hafuurri Qulqulluunis waa’ee kanaa dhugaa nuu ba’a. Innis jalqabatti akkana
jedha:
16 “Kakuun ani yeroo sana booddee isaan wajjin galu kanaa dha,
jedha Gooftaan.
Ani seera koo qalbii isaanii keessa nan kaa’a;
garaa isaanii keessattis nan barreessa.”†
17 Ammas,
“Ani cubbuu fi yakka isaanii
si’achi hin yaadadhu”‡
jedha. 18 Iddoo isaan kunneen itti dhiifama argatanitti si’achi sababii cubbuutiif
aarsaa dhi’eessuu hin barbaachisu.

### *Amantiidhaan Cimanii Dhaabachuu*

19 Kanaafuu yaa obboloota, nu dhiiga Yesuusiin gara Iddoo Iddoo Hunda Caalaa
Qulqulluu ta’eetti galuuf ija jabina waan qabnuuf 20 karaa haaraa fi jiraataa
golgaa keessaan jechuunis karaa foon isaatiin nuu baname sanaan 21 waan luba
guddaa mana Waaqaa irratti qabnuuf, 22 kottaa akka qalbiin keenya yaada yakka
qabaachuu irraa qulqulleeffamuuf garaa keenyatti nuu facaafamee, dhagna keenyas
bishaan qulqulluun dhiqannee garaa qulqulluu amantii mirkanaa’aa guutuu qabuun
Waaqatti dhi’aannaa. 23 Inni waadaa gale sun waan amanamaa ta’eef kottaa nu
utuu hin raafamin abdii dhugaa baanu sana jabeessinee qabannaa. 24 Kottaa jaalalaa
fi hojii gaariif wal kakaasuuf itti yaadnaa. 25 Akka namoonni tokko tokko walitti
qabamuu dhiisan sana kottaa nu walitti qabamuu hin dhiifnuu; qooda kanaa akka
guyyaan sun dhi’aate waan argitaniif ittuma caalchifnee wal haa jajjabeessinu.

26 Nu erga beekumsa dhugaa argannee booddee yoo beekaa ittuma fufnee cubbuu
hojjenne, si’achi aarsaan cubbuuf dhi’eeffamu hin jiraatu; 27 garuu murtii fi ibidda
hamaa diinota Waaqaa barbadeessu sodaan eeggachuu qofatu jiraata. 28 Namni
seera Musee tuffate kam iyyuu dhuga baatota lamaan yookaan sadiin gara laafina
malee ajjeefama. 29 Nama Ilma Waaqaa irra ejjete, nama dhiiga kakuu kan ittiin
qulqulleeffame sana akka waan qulqulluu hin ta’iniitti hedee fi nama Hafuura
ayyaanaa arrabse tokko adabbii hammam caalaa guddaatu isaaf mala seetu? 30 Nu
isa, “Haaloo baasuun kan koo ti; ani gatii nan deebisa”§ jedhe sana beeknaatii;

* **10:7** 10:7 Far 40:6-8 † **10:16** 10:16 Erm 31:33 ‡ **10:17** 10:17 Erm 31:34 § **10:30** 10:30 KeD 32:35

akkasumas, “Gooftaan saba isaatti ni mura”[*] jedhe. 31 Harka Waaqa jiraataatti
kufuun sodaachisaa dha.
32 Bara duraa yeroo erga ifni isinii ifee booddee wal’aansoo dhiphinaa guddaa
obsitanii keessa dhaabattan sana yaadadhaa. 33 Isin yeroo tokko tokko fuula
namootaa duratti arrabsoo fi ari’atamaaf saaxilamtanii turtan; yeroo kaan immoo
namoota rakkinni akkasii irra ga’e wajjin hirmaachaa turtan. 34 Isin mataan keessan
akka qabeenya wayyu kan hin dabarre qabdan waan beektaniif warra hidhaman
wajjin dhiphattaniirtu; yommuu qabeenyi keessan saamamus gammachuudhaan
fudhattaniirtu. 35 Kanaafuu ija jabina keessan isa gatii guddaa qabu sana hin gatinaa.
36 Yommuu fedhii Waaqaa raawwattanittis akka waan inni waadaa gale sana
argattaniif obsuu isin barbaachisaatii.
37 “Yeroo xinnoo keessatti,
inni dhufuuf jiru ni dhufa;
hin turus.”[†]
38 Akkasumas,
“Qajeelaan koo garuu amantiidhaan jiraata.
Kan duubatti harkifatu immoo
ani itti hin gammadu.”[‡]
39 Nu garuu warra amananii lubbuu ofii oolfatan malee warra gara badiisaatti
harkifatan miti.

# 11

*Hojii Amantiin Hojjetu*

1 Amantiin waan abdannu tokko dhugumaan ni ta’a jennee fudhachuu dha; waan
ijaan hin argine tokko immoo qabatamaadha jennee heduu dha. 2 Jaarsoliifis kanaan
dhugaa ba’ameetii.
3 Addunyaawwan akka ajaja Waaqaatiin uumaman, wanni mul’atus akka waan
mul’atu irraa hin hojjetamin nu amantiidhaan hubanna.
4 Abeel amantiidhaan aarsaa isa Qaayin dhi’eesse caalu Waaqaaf dhi’eesse. Inni
yommuu Waaqni waa’ee kennaa isaa dhugaa ba’ameefitti nama qajeelaa ta’uun isaa
amantiidhaan dhugaa ba’ameef. Abeel du’u iyyuu hamma ammaatti amantiidhaan
dubbachaa jira.
5 Henook akka du’a hin argineef amantiidhaan fudhatame; waan Waaqni isa
fudhateef inni hin argamne.[*] Inni utuu hin fudhatamin dura akka nama Waaqa
gammachiiseetti dhugaa ba’ameefii tureetii. 6 Amantiidhaan malee Waaqa gam-
machiisuun hin danda’amu; sababiin isaas namni gara isaa dhufu kam iyyuu akka
inni jiruu fi akka inni warra isa barbaadaniif gatii kennu amanuu qaba.
7 Nohi waa’ee waan amma illee ijaan hin argaminii Waaqni isa akeekkachiifnaan
sodaatee warra mana isaa jiraatan oolfachuuf jedhee amantiin doonii tolche. Amantii
isaatiinis addunyaatti mure; dhaaltu qajeelummaa amantiin argamuus ta’e.
8 Abrahaam gara iddoo dhaaluuf jiruu akka dhaqu yommuu waamametti, aman-
tiidhaan ajajame; eessa akka dhaqu iyyuu utuu hin beekin ka’ee deeme. 9 Innis
akka keessummaa biyya ormaa jiruutti biyya isaaf waadaa galame sana keessa
amantiidhaan qubate; akkuma warra isa wajjin waadaadhuma sana dhaalan,
akkuma Yisihaaqii fi Yaaqoob dunkaana keessa jiraate. 10 Inni magaalaa hundee
qabdu kan Waaqni ijaaree fi tolche eeggachaa tureetii. 11 Saaraan yoo umurii
da’umsaa dabartee, dhabduu turte illee isheen waan Waaqa waadaa isheef gale
sana amanamaa gootee fudhatteef, amantiidhaan mucaa da’u dandeesse. 12 Kanaaf

[*] **10:30** 10:30 KeD 32:36; Far 135:14 [†] **10:37** 10:37 Isa 26:20; Anb 2:3 [‡] **10:38** 10:38 Anb 2:3,4 [*] **11:5** 11:5
Uma 5:24

namicha akka waan du'eetti ilaalamu tokkicha kana irraa sanyiin akka urjii samii baay'attuu fi akka cirracha qarqara galaanaa kan hin lakkaa'amne dhalate.
13 Namoonni kunneen hundinuu utuu waan waadaa galameef sana hin argatin amantii isaanii immoo utuu hin dhiisin du'an. Waadaa sanas fagootti ilaalanii simatan. Isaanis lafa irratti akka keessummootaa fi godaantota turan beekaniiru.
14 Warri waan akkasii jedhan kunneen akka biyya ofii isaanii eeggachaa jiran mul'isu.
15 Isaan utuu waa'ee biyya keessaa ba'an sanaa yaadaa turanii silaa, biyya isaaniitti deebi'uuf carraa ni argatu turan. 16 Qooda kanaa isaan biyya wayyu tokko jechuunis biyya samii irraa sana hawwaa turan. Kanaafuu Waaqayyo Waaqa isaanii jedhamee waamamuutti hin qaana'u; inni magaalaa isaaniif qopheesseeraatii.
17 Abrahaam yeroo Waaqni isa qoretti amantiidhaan Yisihaaqin aarsaadhaaf dhi'eesse. Isuma waadaa argate sanatu ilma isaa tokkicha aarsaa godhee dhi'eessuuf qophaa'e; 18 innis isuma Waaqni, "Sanyiin kee Yisihaaqiin siif waamama"† jedheen sana. 19 Abrahaam akka Waaqni warra du'an keessaa nama kaasuu danda'u illee hubatee ture; kunis karaa tokkoon inni ilma isaa Yisihaaqin warra du'an keessaa deebisee argate jechuu dha.
20 Yisihaaq amantiidhaan waan dhufuuf jiru irratti Yaaqoobii fi Esaawun eebbise.
21 Yaaqoob yeroo du'etti amantiidhaan ilmaan Yoosef tokko tokkoon eebbise; mataa ulee isaatti irkatees sagade.
22 Yoosefis yeroo du'etti amantiidhaan waa'ee Gibxi keessaa ba'uu ijoollee Israa'el dubbate; waa'ee lafee isaas ajaja kenne.
23 Yeroo Museen dhalatetti abbaa fi haati isaa mucaa miidhagaa ta'uu isaa arganii utuu labsii mootichaa hin sodaatin amantiidhaan ji'a sadii isa dhoksan.
24 Museen yeroo guddatetti ilma intala Fara'oon jedhamee waamamuu amantiid-
haan dide. 25 Inni gammachuu cubbuutiin yeroo gabaabaaf gammaduu irra saba
Waaqaa wajjin dhiphachuu filate. 26 Inni waan badhaasa isaa of duratti ilaaleef,
Kiristoosiif jedhee salphachuu akka qabeenya Gibxi caalaa gatii guddaa qabuutti
fudhate. 27 Innis utuu dheekkamsa mootichaa hin sodaatin amantiidhaan Gibxi
keessaa ba'e; isa hin mul'anne sana akka waan argeetti obsee eeggate. 28 Akka
ergamaan hangafa ajjeesu sun hangafoota saba Israa'el hin tuqneefis amantiidhaan
akka Faasiikaan ayyaaneffamu, dhiignis akka facaafamu godhe.
29 Sabni Israa'el akkuma nama lafa gogaa irra deemuutti amantiin Galaana Diimaa ce'e; warri Gibxi garuu yommuu akkuma sanatti ce'uu yaalanitti ni liqimfaman.
30 Dallaan Yerikoo erga guyyaa torba marfamee booddee amantiidhaan jige.
31 Sagaagaltuun Rahaab jedhamtu basaastota simachuu isheetiin amantiidhaan hafte malee warra hin amanin wajjin hin ajjeefamne.
32 Ani egaa kana caalaa maalin jedha ree? Waa'ee Gedewoon, waa'ee Baaraq,
waa'ee Saamsoon, waa'ee Yiftaa, waa'ee Daawit, waa'ee Saamu'eelii fi waa'ee raajo-
taa odeessuuf ani yeroo hin qabu; 33 isaan amantiidhaan mootummoota mo'atan;
murtii qajeelaa kennan; waan waadaa galame argatan; afaan leencotaa cufan;
34 amantiidhaan ibidda jabaa dhaamsan; qara goraadee jalaa ba'an; dadhabbiin
isaanii jabinatti geeddarame; waraana keessatti humna argatanii loltoota diinaa
ari'an. 35 Dubartoonnis namoonni isaanii kanneen du'an du'aa kaafamaniifii dee-
bisanii fudhatan. Warri kaanis du'aa ka'uu wayyu argachuuf jedhanii gad dhiifamuu
didanii dhiphatan. 36 Warra kaanitti ni qoosame; ni garafamanis; akkasumas
foncaan hidhamanii mana hidhaatti darbataman. 37 Dhagaadhaanis ni tumaman;
iddoo lamatti baqaqfaman; goraadeedhaan ajjeefaman. Deeguudhaan, ari'atamuu fi
dhiphachuudhaan gogaa hoolotaatii fi re'ootaa uffatanii jooran; 38 addunyaan isaaniif
hin maleetii. Isaanis gammoojjii fi gaara irra, holqaa fi boolla keessa jooraa turan.

† **11:18** 11:18 Uma 21:12

39 Warri kunneen hundinuu yoo sababii amantii isaaniitiif jajaman iyyuu isaan
keessaa namni tokko iyyuu waan waadaa galame sana hin arganne. 40 Waaqni akka
isaan nu qofa wajjin warra mudaa hin qabne ta'aniif duraan dursee waan nuuf
wayyu argeera.

# 12

1 Kanaafuu nu waan dhuga baatota akka duumessa guddaa akkanaatiin mar-
famneef kottaa ba'aa hunda, cubbuu xaxee nu qabates of irraa baafnee gannaa;
dorgommii fuula keenya dura jirus obsaan jabaannee fiignaa; 2 kottaa Yesuus isa
jalqabaa fi fiixaan baasaa amantii keenyaa ta'e sana irra ija keenya kaa'annaa. Innis
gammachuu fuula isaa dura jiruuf jedhee qaanii fannoo tuffachuun fannoo obsee
mirga teessoo Waaqaa taa'e. 3 Isin akka dadhabdanii abdii hin kutanneef isa mormii
cubbamoota isa irra ga'e akkasii obse sana yaadatti qabadhaa.

*Waaqni Ilmaan Isaa ni Adaba*

4 Isin amma iyyuu wal'aansoo cubbuu wajjin gootan keessatti hamma dhiiga
dhangalaasuutti jabaattanii hin mormine. 5 Dubbii jajjabinaa kan akkuma ilmaaniitti
isinitti dubbatu sana irraanfattaniirtu; innis akkana jedha:
"Yaa ilma ko, adabbii Gooftaa hin tuffatin;
yommuu inni si ifatus abdii hin kutatin;
6 Gooftaan warra jaallatu ni adabaatii;
inni nama akka ilmaatti ilaalu kam iyyuu ni adaba."*
7 Rakkina akkuma adabbiitti obsaa; Waaqni akka ilmaan isaatti isin adabaatii. Ilmi
abbaan isaa hin adabne ilma akkamii ti? 8 Isin yoo adabbii ijoolleen hundinuu ittiin
adabaman keessatti hin hirmaanne isin diqaalota malee ijoollee dhugaa miti. 9 Kana
malees nu hundinuu abbootii foonii kanneen nu adaban qabna turre; isaan kabajnas
turre. Yoos Abbaa hafuurotaatiif immoo hammam caalaa ajajamnee jiraachuu qabna
ree! 10 Abbootiin keenya akkuma isaanitti gaarii fakkaatetti yeroo gabaabaaf nu
adabaa turan; Waaqni garuu akka nu qulqullummaa isaa keessatti hirmaannuuf
faayidaa keenyaaf jedhee nu adaba. 11 Adabbiin hundinuu yeroo sana waan nama
gaddisiisu malee waan nama gammachiisu hin fakkaatu. Ergasii garuu warra adabbii
sanaan leenjifamaniif ija qajeelummaa fi nagaa kenna.
12 Kanaafuu irree laafee fi jilba dadhabe jabeessaa. 13 Naafti akka fayyuuf malee
akka karaa irraa hin jal'anneef, "Miilla keessaniif daandii qajeelaa baafadhaa."†

*Akeekkachiisa*

14 Nama hunda wajjin nagaadhaan jiraachuu fi qulqulluu ta'uuf tattaaffadhaa;
qulqullummaan malee namni kam iyyuu Gooftaa arguu hin danda'uutii. 15 Nama
kamitti iyyuu ayyaanni Waaqaa akka hin hir'anne of eeggadhaa; hiddi hadhaa'aan
biqilee rakkina akka hin uumnee fi namoota baay'ees hin xureessineef of eeggadhaa.
16 Namni kam iyyuu akka Esaawu isa mirga hangafummaa isaa nyaata tokkittiitti
gurgurate sanaa sagaagaltuu yookaan nama Waaqatti hin bulle hin taaneef of
eeggadhaa. 17 Inni ergasii yeroo eebba sana dhaaluu barbaadetti akka didame isin
ni beektu. Inni yoo eebba sana imimmaaniin barbaade illee geeddarama tokko illee
fiduu hin dandeenye.
18 Isin gara tulluu tuqamuu danda'uu fi ibiddi irraa boba'u, gara dukkanaa, gara
dimimmisaa fi bubbee hin geenye; 19 gara sagalee malakataatii fi gara sagalee
dubbii dubbatuu hin geenye; warri isa dhaga'anis akka dubbiin biraa dabalamee
isaanitti hin dubbatamne kadhatan. 20 Isaan waan, "Bineensi iyyuu yoo tulluu
sana tuqe dhagaadhaan tumamee haa ajjeefamu"‡ jedhamee ajajame sana obsuu

* **12:6** 12:6 Fak 3:11,12 † **12:13** 12:13 Fak 4:26 ‡ **12:20** 12:20 Bau 19:12,13

hin dandeenyeetii. 21 Wanti achitti mul'ates waan sodaachisaa ta'eef Museen, "Ani
sodaadhaan hollachaan jira"§ jedhe.
22 Isin garuu gara Tulluu Xiyoon, gara magaalaa Waaqa jiraataa jechuunis
Yerusaalem ishee samii keessaa dhuftaniirtu. Gara ergamoota kumaatama gammachuun walitti qabamanii dhuftaniirtu;
23 gara waldaa kiristaanaa hangafoota
maqaan isaanii samii keessatti barreeffamee dhuftaniirtu. Gara Waaqa Abbaa
Murtii waan hundaa, gara hafuurota namoota qajeeltota warra mudaa hin qabne
taasifamanii, 24 gara Yesuus araarsaa gidduu galeessa kakuu haaraa, gara dhiiga
facaafame kan dubbii dhiigni Abeel dubbatu sana caalaa dubbatuu dhuftaniirtu.
25 Isinis akka isa dubbachaa jiru sana hin didneef of eeggadhaa. Erga isaan yeroo
isa lafa irratti isaan akeekkachiise sana didanitti jalaa hin ba'in, nu immoo yoo isa
samii irraa nu akeekkachiisu sana irraa gara galle akkamitti jalaa ba'uu dandeenya
ree? 26 Yeroo sanatti sagaleen isaa lafa sochoose; amma garuu inni, "Ani ammas
yeroo tokko lafa qofa utuu hin ta'in samiiwwanis nan sochoosa"* jedhee waadaa
galeera. 27 Dubbiin, "Ammas yeroo tokko" jedhu kun akka wanni hin sochoofamne
hafee jiraatuuf, wanni sochoofamu jechuunis wanni uumame baduu isaa argisiisa.
28 Kanaafuu nu waan mootummaa hin sochoone argannuuf kottaa haa galateeffannu! Kabajaa fi sodaadhaanis karaa fudhatamaa ta'een Waaqa haa waaqeffannu;
29 Waaqni keenya ibidda gubee balleessuudhaatii.†

# 13

*Gorsa Xumuraa*
1 Akka obbolootaatti wal jaallachuu itti fufaa. 2 Keessumoota simachuu hin
irraanfatinaa; namoonni tokko tokko akkasiin utuu hin beekin ergamoota Waaqaa
simataniiruutii. 3 Warra mana hidhaa jiran akka waan isaan wajjin hidhamtaniitti,
warra dhiphina keessa jiranis akka waan ofii dhiphattaniitti yaadadhaa.
4 Fuudhaa fi heerumni nama hunda biratti haa kabajamu; sireen fuudhaa fi
heerumaas qulqulluu haa ta'u; Waaqni ejjitootaa fi sagaagaltootatti ni muraatii.
5 Jireenya keessan jaalala maallaqaa irraa jabeessaa eeggadhaa; wanni qabdan isin
haa ga'u; Waaqni,
"Ani gonkumaa si hin dhiisu;
gonkumaas si hin gatu"*
jedheeraatii. 6 Kanaaf nu ija jabinaan,
"Gooftaan gargaaraa koo ti; ani hin sodaadhu.
Namni maal na gochuu danda'a?"† jenna.
7 Hooggantoota keessan warra dubbii Waaqaa isinitti himanii turan sana yaadadhaa. Waan jireenya isaanii irraa argames ilaalaa; amantii isaanii duukaa bu'aa.
8 Yesuus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis sanuma.
9 Barsiisa gosa hundumaa kan keessummaa ta'een hin fudhataminaa. Garaan
keenyas sirna waa'ee nyaataatiin utuu hin ta'in ayyaanaan jabina argachuu qaba;
sirni waa'ee nyaataa warra isa kabajan iyyuu hin fayyadu. 10 Nu iddoo aarsaa kan
warri dunkaana qulqulluu keessa tajaajilan irraa nyaachuuf mirga hin qabne tokko
qabna.
11 Lubni ol aanaan dhiiga horii qabatee sababii cubbuutiif aarsaa dhi'eessuuf
jedhee Iddoo Iddoo Hunda Caalaa Qulqulluu ta'e sana seena; foon horii sanaas
qubata keessaa gad baafamee gubama. 12 Kanaafuu Yesuusis dhiiga ofiitiin saba
qulqulleessuuf jedhee karra magaalattiitiin alatti dhiphate. 13 Egaa kottaa nus

§ **12:21** 12:21 KeD 9:19 * **12:26** 12:26 Hag 2:6 † **12:29** 12:29 KeD 4:24 * **13:5** 13:5 KeD 31:6 † **13:6** 13:6
Far 118:6,7

salphina inni baate sana baannee iddoo qubataatiin ala gara isaa haa dhaqnu. 14 Nu
magaalaa dhufuuf jirtu eegganna malee magaalaa bara baraa asii hin qabnuutii.
15 Kanaafuu kottaa utuu gargar hin kutin karaa Yesuusiitiin aarsaa galataa Waaqaaf
haa dhi'eessinu; aarsaan kunis dubbii maqaa isaa beeksisuuf afaan keenya keessaa
ba'uu dha. 16 Waan gaarii gochuu fi waan qabdanis namaan ga'uu hin dhiisinaa;
Waaqni aarsaa akkasiitti gammadaatii.
17 Hooggantoota keessaniif ajajamaa; isaaniifis bulaa. Isaan waan itti gaafatamtoota
lubbuu keessanii ta'aniif isin eegu; kanas utuu gaddaan hin ta'in akka isaan
gammachuun hojjetaniif isaaniif ajajamaa; yoo isaan gaddaan hojjetan isin hin
fayyaduutii.

### *Akka Kadhannaa Godhaniif Gaafachuu*

18 Isin Waaqa nuu kadhadhaa. Nu akka karaa hundumaan qalbii qulqulluu qabnuu
fi akka jireenya kabajamaa jiraachuu hawwinu mirkaneeffanneerra. 19 Keessumattuu
akka ani dafee deebi'ee gara keessan dhufuuf akka Waaqa kadhattan isin gorsa.

### *Eebbaa fi Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

20 Waaqni nagaa inni karaa dhiiga kakuu bara baraatiin Gooftaa keenya Yesuus,
Tiksee hoolotaa guddicha sana warra du'an keessaa kaase sun, 21 akka isin fedhii
isaa raawwattaniif waan gaarii hundaan isin haa qopheessu; innis karaa Yesuus
Kiristoosiitiin waan isa gammachiisu nu keessatti haa hojjetu; ulfinni bara baraa
hamma bara baraatti Yesuus Kiristoosiif haa ta'u. Ameen.

22 Yaa obboloota nana, ani waan xalayaa gabaabaa isinii barreesseef, akka isin
ergaa gorsaa kana obsaan fudhattan isin kadhadha.

23 Akka obboleessi keenya Xiimotewos mana hidhaatii hiikame akka beektan nan
barbaada. Yoo inni dafee as dhufe ani isin arguuf isa wajjin nan dhufa.

24 Hooggantoota keessan hundaa fi qulqulloota hundatti nagaa naa himaa.
Warri Iixaaliyaa irraa dhufanis nagaa isinii dhaamu.

25 Ayyaanni isin hunda wajjin haa ta'u.

# Yaaqoob

### *Nagaa Gaafachuu*

1 Yaaqoob garbicha Waaqaatii fi kan Yesuus Kiristoos Gooftichaa irraa,

Gara gosoota kudha lamaan bibittinnaa'aniitti:

Nagaan isiniif haa ta'u.

### *Qorumsaa fi Dhiibbaa*

2 Yaa obboloota ko, yommuu qorumsi adda addaa isin irra ga'utti akka gammachuu
guutuutti fudhadhaa; 3 amantiin keessan qoramuun isaa akka obsa isiniif argamsiisu
beektuutii. 4 Akka isin bilchaatoo fi guutuu, warra hir'ina tokko iyyuu hin qabne
taataniif obsi hojii isaa haa raawwatu. 5 Isin keessaa namni tokko iyyuu hanqina
ogummaa yoo qabaate, Waaqa utuu hin tuffatin nama hundumaaf arjummaan
kennu haa kadhatu; isaafis ni kennama. 6 Inni garuu yommuu kadhatu amantiin
haa kadhatu; hin shakkinis; namni shakku akka dambalii galaanaa kan bubbeen
dha'amee oofamuu ti. 7 Namni sun waan tokko illee Gooftaa biraa nan argadha
jedhee hin eeggatin; 8 inni nama yaada lamaa ti; iddoo tokkos hin dhaabatu.
9 Obboleessi gad qabame ol qabamuu isaatiin of haa jaju. 10 Sooressi garuu
gad qabamuu isaatti of haa jaju; inni akkuma daraaraa margaa ni harca'aatii.
11 Aduun ho'a gubuun baatee marga gogsitiitii; daraaraan biqiltuu sanaas ni harca'a;
miidhaginni isaas ni bada. Sooressis utuma hojii isaatiif olii gad fiiguu bada.
12 Namni qorumsa obsu eebbifamaa dha; inni yommuu qorametti jabaatee waan
dhaabateef gonfoo jireenyaa kan Waaqni warra isa jaallataniif waadaa gale sana ni
argataatii.
13 Namni kam iyyuu yommuu qoramutti, "Waaqatu na qoraa jira" hin jedhin.
Waaqni hamaadhaan hin qoramuutii; innis nama tokko illee hin qoru; 14 tokkoon
tokkoon namaa garuu yommuu hawwii ofii isaa hamaa sanaan harkifamee gow-
woomfamutti qorama. 15 Hawwiinis yommuu ulfooftetti cubbuu dhalti; cubbuun
immoo yommuu guutumaan guutuutti guddattetti du'a dhalti.
16 Yaa obboloota koo jaallatamoo, hin dogoggorinaa. 17 Kennaan gaariin hundinuu,
kennaan mudaa hin qabne hundinuus Abbaa ifaa isa akka gaaddidduu hin geed-
daramne sana biraa gubbaadhaa gad bu'a. 18 Innis akka nu uumama isaa hundumaaf
gosa hangafa taanuuf akkuma fedhii isaatti dubbii dhugaatiin nu dhalche.

### *Dhaga'uu fi Hojii Irra Oolchuu*

19 Yaa obboloota koo jaallatamoo, waan kana hubadhaa: Namni hundinuu
dhaga'uutti haa ariifatu; dubbachuuf suuta haa jedhu; aaruuttis suuta haa jedhu;
20 aariin namaa qajeelummaa Waaqaa hin hojjetuutii. 21 Kanaaf xuraa'ummaa
hundaa fi hammina isin keessa jiraatu hunda of irraa fageessaa; dubbii lubbuu
keessan fayyisuu danda'u kan isin keessatti facaafame sana garraamummaan
fudhadhaa.
22 Isin garuu warra dubbicha hojii irra oolchitan ta'aa malee warra dhaga'uu
qofaan of gowwoomsitan hin ta'inaa. 23 Namni dubbicha dhaga'ee hojii irra hin
oolchine kam iyyuu nama of-ilaalee keessatti fuula isaa ilaallatu fakkaata; 24 innis
erga of ilaalee booddee ni deema; yommusuma maal akka fakkaatu ni irraanfata.
25 Garuu namni seera bilisaa kan hir'ina hin qabne sana hubatee ilaalu, kan akka

seera sanaattis jiraatu, kan waan dhaga’es hojii irra oolchuu malee hin irraanfanne
sun waan hojjetu keessatti ni eebbifama.
[26] Namni waan amantaa qabu of se’u, kan garuu arraba isaa hin luugamanne
yoo jiraate inni of gowwoomsa; amantaan isaas faayidaa hin qabu. [27] Amantaan
Waaqa Abbaa keenya duratti qulqulluu ta’ee fi kan mudaa hin qabne isa kana: kunis
ijoollee abbaa fi haadha hin qabnee fi haadhota hiyyeessaa rakkina isaanii keessatti
kunuunsuu fi xuraa’ummaa addunyaa irraa of eeggachuu dha.

# 2

*Nama Wal caalchisuun Dhowwaa dha*

[1] Yaa obboloota ko, isin waan Gooftaa keenya kan ulfinaa Yesuus Kiristoositti
amantaniif nama wal hin caalchisinaa. [2] Namni qubeelaa warqee kaa’atee uffata
bareedaas uffatu tokko gara wal ga’ii keessanii dhufa haa jennu; akkasumas hiyyeessi
darsa uffatu ni dhufa haa jennu. [3] Isinis yoo namicha uffata bareedaa uffatu sanaaf
ulfina addaa kennitanii, “Maaloo kottuu iddoo gaarii taa’i!” jettan, yoo namicha
hiyyeessa sanaan immoo, “Ati achi dhaabadhu” yookaan “Kottuutii miilla koo bira
taa’i!” jettan, [4] isin gidduu keessanitti garaa garummaa uumtanii warra yaada
hamaan murteessitan hin taanee?
[5] Yaa obboloota koo jaallatamoo, mee dhaga’aa! Waaqni akka isaan amantiitti
sooreyyii ta’anii fi akka isaan mootummaa inni warra isa jaallataniif waadaa gale
sana dhaalaniif hiyyeeyyii addunyaa kanaa filateera mitii? [6] Isin garuu hiyyeeyyii
salphiftaniirtu. Warri isin qisaasuutti jiran warruma sooreyyii sana mitii? Kanneen
gara mana murtiitti isin harkisaa jiranis isaanuma mitii? [7] Maqaa kabajamaa isin
ittiin waamamtan sanas kan arrabsan isaanuma mitii?
[8] Seera mootii kan Katabbii Qulqulluu keessatti, “Ollaa kee garuu akka ofii keetti
jaalladhu”[*] jedhu sana yoo dhugumaan eegdan isin waan qajeelaa gochaa jirtu.
[9] Yoo nama wal caalchiftan garuu isin cubbuu hojjettan; seera durattis akka seera
cabsitootaatti isinitti murama. [10] Sababiin isaas namni seera guutummaatti eegee
waan tokko qofa cabse kam iyyuu akka waan seera hunda cabseetti ilaalamaatii.
[11] Inni, “Hin ejjin”[†] jedhe sun akkasuma immoo, “Hin ajjeesin”[‡] jedheeraatii. Ati yoo
ejjuu baatte illee nama ajjeefnaan seera cabsiteerta.
[12] Isin akka warra seera nama bilisoomsuun itti muramuutti dubbadhaa; hojjed-
haas; [13] nama namaaf hin araaramnetti murtii araara hin qabnetu murama. Araarri
murtii mo’a.

*Amantii fi Hojii*

[14] Yaa obboloota ko, namni tokko yoo, “Ani amantii qaba” jedhee garuu hojiin
argisiisuu baate, kun faayidaa maalii qaba? Amantiin akkanaa isa fayyisuu danda’aa
ree? [15] Fakkeenyaaf obboleessi tokko yookaan obboleettiin tokko uffataa fi waan
guyyaa guyyaan nyaatan hin qaban haa jennu. [16] Isin keessaa yoo namni tokko,
“Nagaan deemaa; isinitti haa ho’u; quufaas” isaaniin jedhee garuu waan foon
isaaniitiif barbaachisu tokko illee hin kenniniif, kun faayidaa maalii qaba ree?
[17] Akkasumas amantiin hojiin hin mul’ifamne ofiinuu du’aa dha.
[18] Namni tokko garuu, “Ati amantii qabda; ani immoo hojii qaba” jedha.
Ati amantii kee hojii malee na argisiisi; anis hojii kootiin amantii koo sin argisiisa.
[19] Akka Waaqni tokkichi jiru ati ni amanta. Kun gaarii dha! Hafuuronni hamoon
iyyuu waan kana ni amanu; sodaadhaanis ni hollatu.
[20] Yaa namicha gowwaa nana, ati akka amantiin hojii of keessaa hin qabne
du’aa ta’e beekuu barbaaddaa? [21] Abbaan keenya Abrahaam yommuu ilma isaa

[*] **2:8** 2:8 Lew 19:18 [†] **2:11** 2:11 Bau 20:14; KeD 5:18 [‡] **2:11** 2:11 Bau 20:13; KeD 5:17

Yisihaaqin iddoo aarsaa irratti dhi’eessetti waan hojjete sanaaf qajeelaa ta’ee hin
lakkaa’amnee ree? 22 Akka amantiin isaatii fi hojiin isaa tokkummaan hojjechaa
turan ni argita; waan inni hojjeteenis amantiin isaa guutuu ta’e. 23 Kanaanis
wanni katabbii qulqulluu keessatti, “Abrahaam Waaqa amane; kunis qajeelummaatti
lakkaa’ameef”§ jedhu ni raawwatame; innis michuu Waaqaa jedhame. 24 Egaa akka
namni hojiidhaanis malee amantii qofaan qajeelaatti hin lakkaa’amne ni argitu.
25 Akkasuma immoo sagaagaltuun Rahaab jedhamtu yommuu basaastota simattee
karaa kaaniin isaan geggeessitetti waan hojjetteen qajeeltuutti hin lakkaa’amnee ree?
26 Akkuma dhagni hafuura hin qabne du’aa ta’e sana, amantiin hojii hin qabnes du’aa
dha.

# 3

*Arraba Leenjifachuu*

1 Yaa obboloota ko, baay’een keessan barsiistota hin ta’inaa; nu warra barsiisnutti
murtii cimaan akka muramu ni beektuutii. 2 Nu hundinuu karaa baay’eedhaan
gufanna. Namni waan dubbatu keessatti hin gufanne kam iyyuu nama hir’ina hin
qabnee dha; dhagna isaas guutummaatti to’achuu danda’a.
3 Fardi akka nuuf ajajamuuf yoo afaan isaa luugamne dhagna isaa guutuu gara
barbaanne geessuu dandeenya. 4 Mee doonii illee ilaalaa! Dooniin yoo akka
malee guddaa ta’ee bubbee jabaadhaan oofame illee namichi isa oofu batoo xinnoo
isheetiin gara barbaadetti geessa. 5 Akkasuma immoo arrabni kutaa dhagnaa
xinnoo dha; waan gurguddaadhaan of jaja. Bosonni hammam guddaa ta’u iyyuu
qaanqee ibiddaa xinnaadhaan akka gubatu hubadhaa. 6 Arrabni ibidda; kutaawwan
dhagnaa keessattis addunyaa hamminaa ti. Inni dhagna guutuu xureessa; adeemsa
uumamaattis ibidda qabsiisa; ofii isaatii immoo ibidda gahaannamiitiin gubama.
7 Bineensonni gosa hundaa, simbirroonni, uumamawwan lafa irra loo’anii fi
galaana keessa jiraatan hundinuu namaan madaqfamu; madaqfamaniirus; 8 arraba
garuu namni tokko iyyuu leenjisuu hin danda’u. Arrabni hamaa boqonnaa hin
qabnee dha; summii nama ajjeesuunis kan guutamee dha.
9 Nu arrabaan Gooftaa fi Abbaa eebbifna; isumaan immoo nama bifa Waaqaatiin
uumame abaarra. 10 Afaanuma tokko keessaa eebbii fi abaarsi ba’a. Yaa obboloota
ko, wanni kun akkas ta’uu hin qabu. 11 Bishaan mi’aawaa fi hadhaa’aan burqaa
tokko keessaa ni ba’aa? 12 Yaa obboloota ko, mukni harbuu ija ejersaa naqachuu
yookaan wayiniin ija harbuu naqachuu danda’aa? Akkasuma immoo burqaan
bishaan soogiddaa bishaan mi’aawaa kennuu hin danda’u.

*Ogummaa Gosa Lamaa*

13 Isin keessaa ogeessii fi hubataan eenyu? Kanas inni jireenya isaa gaariidhaan,
hojii ogummaa kan gad of qabuudhaan hojjetamuun haa argisiisu. 14 Isin garuu yoo
hinaaffaa hadhaa’aa fi hawwii ofittummaa garaa keessan keessaa qabaattan of hin
jajinaa; dhugaa irrattis soba hin dubbatinaa. 15 Ogummaan kun kan lafaa ti; kan
foonii ti; kan hafuura hamaati malee kan samii irraa dhufu miti. 16 Iddoo hinaaffaa
fi hawwiin ofittummaa jiru, jeequmsaa fi hojii hamminaa hundumatu jira.
17 Ogummaan samii irraa dhufu garuu duraan dursee qulqulluu dha; akkasumas
nagaa qabeessa; garraamii dha; ajajamaa dha; kan araaraa fi ija gaariin guutamee
dha; wal caalchisuu fi itti fakkeessuus of keessaa hin qabu. 18 Iji qajeelummaa warra
nagaa buusaniin nagaadhaan facaafama.

§ **2:23** 2:23 Uma 15:6

# 4

*Waaqaaf Bulaa*

[1] Wanni lolaa fi walitti bu'uu isin gidduutti kaasu maali? Isaan hawwii isin keessatti
wal lolan irraa dhufu mitii? [2] Isin ni hawwitu; garuu hin argattan. Kanaaf ni
ajjeeftu; ni hinaaftus. Garuu waan barbaaddan sana argachuu hin dandeessan.
Kanaafis walitti buutu; wal loltus. Isin waan Waaqa hin kadhanneef hin qabaattan.
[3] Isin dharraa keessan hamaa guutachuuf jettanii yaada hamaan waan kadhattaniif
yommuu kadhattan hin argattan.
[4] Yaa ejjitoota, addunyaatti michoomuun Waaqatti diina ta'uu akka ta'e hin
beektanii? Namni michuu addunyaa ta'u kam iyyuu diina Waaqaa ta'a. [5] Yookaan
wanni Katabbiin Qulqulluun, "Hafuurri nu keessa jiraatu sun hinaaffaadhaan
hawwa" jedhu akkasumaan dubbatama seetuu ree? [6] Inni garuu ayyaana caalu nuuf
kenna. Sababiin Katabbiin Qulqulluun,

"Waaqni of tuultotaan ni morma;
warra gad of qabaniif immoo ayyaana kenna"*

jedhuufis kanuma.
[7] Kanaafuu Waaqaaf bulaa. Diiyaabiloosiin immoo mormaa; innis isin baqataa.
[8] Waaqatti dhi'aadhaa; innis isinitti ni dhi'aataa. Isin cubbamoonni harka
keessan dhiqadhaa; warri yaada lama qabdanis garaa keessan qulqulleeffadhaa.
[9] Dhiphadhaa; gaddaa; boo'aas. Kolfi keessan boo'ichatti, gammachuun keessan
immoo gaddatti haa geeddaramu. [10] Fuula Gooftaa duratti gad of qabaa; inni immoo
ol isin qabaa.
[11] Yaa obboloota, wal hin hammeessinaa. Namni obboleessa isaa hammeessu
yookaan obboleessa isaatti muru kam iyyuu seera hammeessa; seerattis ni mura.
Garuu ati yoo seeratti murte seera sanatti muraa jirta malee isaaf ajajamaa hin jirtu.
[12] Inni seera tumuu fi Abbaan Murtii tokkichuma; innis isa fayyisuu fi balleessuu
danda'uu dha. Garuu nama kaanitti muruuf ati eenyu?

*Waa'ee Boriitiif of jajuu*

[13] Egaa isin warri, "Har'a yookaan bor magaalaa kana yookaan magaalaa sana
dhaqnee waggaa tokko achi turra; daldallees bu'aa arganna" jettan mee dhaga'aa.
[14] Isin waan bor ta'uuf jiru iyyuu hin beektan. Jireenyi keessan maal innii? Isin
hurrii yeroo xinnoof mul'attee ergasii immoo badduu dha. [15] Qooda kanaa isin, "Yoo
Gooftaan jedhe, nu ni jiraanna; waan kana yookaan waan sana ni hojjenna" jechuu
qabdu. [16] Amma garuu isin of jajuu keessanitti gammaddu. Gammachuun akkasii
hundi hamaa dha. [17] Egaa namni kam iyyuu waan gaarii hojjechuu qabu utuma
beekuu yoo hojjechuu baate kun cubbuu isatti ta'a.

# 5

*Sooreyyii Nama Cunqursaniif Akeekkachiisa Kennuu*

[1] Isin yaa sooreyyii, sababii dhiphinni isinitti dhufuuf jiruutiif boo'aa; wawwaad-
haas. [2] Qabeenyi keessan tortoreera; biliinis uffata keessan nyaateera. [3] Warqee
fi meetiin keessan sameera. Dandaa'uun isaaniis isinitti dhugaa ba'a; akkuma
ibiddaattis foon keessan nyaata. Isin bara dhumaatiif qabeenya walitti qabattaniirtu.
[4] Kunoo, mindaan isin warra midhaan keessan haaman dhowwattan sun ni iyya. Iyyi
warra midhaan keessan walitti qabaniis gurra Gooftaa Waan Hunda Danda'u sanaa
seeneera. [5] Isin qananii fi gammachuun lafa irra jiraattaniirtu. Guyyaa qalmaatiifis
of gabbiftaniirtu. [6] Nama qajeelaa isiniin hin morminetti murtanii ajjeeftu.

---

* **4:6** 4:6 Fak 3:34

### *Dhiphina Keessatti Obsa Qabaachuu*

7 Kanaafuu yaa obboloota, hamma dhufaatii Gooftaatti obsaa. Qonnaan bulaan
tokko lafa irraa midhaan gaarii argachuuf hammam akka eeggatu, bokkaa duraatii
fi kan dhumaa hamma argattuttis hammam akka obsu hubadhaa. 8 Isinis akkasuma
obsaa; jabaadhaa dhaabadhaas; dhufaatiin Gooftaa dhi'aateeraatii. 9 Yaa obboloota,
akka isinitti hin muramneef walitti hin guunguminaa. Kunoo, Abbaan Murtii balbala
dura dhaabateera.
10 Yaa obboloota, raajota maqaa Gooftaatiin dubbachaa turan sana akka fakkeenya
dhiphinaa fi obsaatti fudhadhaa. 11 Kunoo, nu warra obsaan jabaattanii dhaabatan
sanaan eebbifamoo jenna; Iyyoob obsuu isaa dhageessaniirtu; waan Gooftaan dhuma
irratti isaaf godhes argitaniirtu. Gooftaan gara laafinaa fi araaraan kan guutamee
dha.
12 Hundumaa caalaa immoo yaa obboloota ko, hin kakatinaa; samiin yookaan
lafaan yookaan waan biraa tokkoon illee hin kakatinaa. Wanni isin jechuu qabdan,
"Eeyyee" yookaan "waawuu" haa ta'u. Yoo kanaa achii isinitti murama.

### *Kadhannaa Amantii*

13 Isin keessaa namni dhiphachaa jiru jiraa? Inni haa kadhatu. Namni gammadu
jiraa? Inni faarfannaa galataa haa faarfatu. 14 Isin keessaa namni dhukkubsatu jiraa?
Inni jaarsolii waldaa kiristaanaa haa waamsifatu; isaanis maqaa Gooftaatiin zayitii
isa dibanii haa kadhataniif. 15 Kadhannaan amantiin godhamu nama dhukkubsatu
ni fayyisa; Gooftaanis isa ni kaasa. Yoo inni cubbuu hojjetee jiraates ni dhiifamaaf.
16 Kanaafuu akka fayyitaniif cubbuu keessan walitti himadhaatii walii kadhadhaa.
Kadhannaan nama qajeelaa humna qaba; waan guddaas ni hojjeta.
17 Eeliyaas namuma akka keenyaa ture. Innis akka bokkaan hin roobneef jabeessee
kadhate; bokkaanis waggaa sadii fi ji'a ja'a lafa irratti hin roobne. 18 Ammas deebi'ee
kadhate; samiin bokkaa kenne; laftis midhaan baafte.
19 Yaa obboloota ko, isin keessaa namni tokko yoo dhugaa irraa fagaate, namni biraa
immoo yoo isa deebise, 20 inni nama cubbamaa karaa jal'aa irraa deebisu lubbuu
namicha sanaa akka du'a jalaa baasu, cubbuu baay'ees akka dhoksu haa beeku.

# Phexros Tokkoffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Phexros ergamaa Yesuus Kiristoos irraa,

Gara filatamtoota Phonxoos, Galaatiyaa, Qaphadooqiyaa, Asiyaa fi Biitaaniyaa
keessa bibittinnaa'an 2 kanneen akka beekumsa Waaqa Abbaatti, karaa hojii
qulqulleessuu Hafuuraatiin, akka Yesuus Kiristoosiif ajajamanii fi akka dhiigni isaa
isaanitti facaafamuuf filatamaniitti:

Ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu.

*Abdii Jiraataadhaaf Waaqa Galateeffachuu*

3 Waaqaa fi Abbaan Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos haa eebbifamu! Inni araara
isaa guddaa sanaan, warra du'an keessaa ka'uu Yesuus Kiristoosiin abdii jiraataad-
haaf lammata nu dhalche; 4 akkasumas dhaala hin badne, kan hin xuroofne yookaan
hin geeddaramnetti nu galche; dhaalli kunis samii keessa isinii kaa'ameera; 5 isin
warra karaa amantiitiin hamma fayyina bara dhumaatti mul'achuudhaaf qophaa'e
sanaatti humna Waaqaatiin eegamtanii dha. 6 Isinis yoo amma yeroo gabaabaaf
qorumsa gosa garaa garaa keessa darbuu qabaattan iyyuu waan kanaan akka malee
gammaddan. 7 Wanni kunis akka amantiin keessan kan warqee yoo ibiddaan
qulqulleeffame iyyuu badu sana caalu sun dhugaa ta'uun isaa mirkaneeffamee, yeroo
itti Yesuus Kiristoos mul'atutti galata, ulfinaa fi kabaja fiduuf ta'e. 8 Isin utuu isa hin
argin isa jaallattu; amma yoo isa arguu baattan iyyuu isatti amantu; gammachuu
ibsamuu hin dandeenyee fi ulfina qabeessaanis guutamtaniirtu; 9 isin bu'aa amantii
keessanii jechuunis fayyina lubbuu keessanii argachaa jirtuutii.
10 Raajonni waa'ee ayyaana isinii kennamuuf jiru sanaa dubbatan sun itti
jabaatanii waa'ee fayyina kanaa qorachaa, iyyaafachaas turan; 11 isaanis yommuu
Hafuurri Kiristoos inni isaan keessa ture sun waa'ee dhiphina Kiristoosiitii* fi waa'ee
ulfina itti aanu sanaa duraan dursee dubbatetti yoomii fi haala akkamii keessa akka
ta'u beekuuf yaalaa turan. 12 Namoonni Hafuura Qulqulluu isa samiidhaa ergameen
wangeela isinitti lallaban sun waan amma isinitti himan keessatti utuu ofii isaanii hin
ta'in isin akka tajaajilan ifa ni ta'eef; waan kana ergamoonni iyyuu gad fageenyaan
arguu hawwu.

*Qulqulloota Ta'aa*

13 Kanaafuu mudhii qalbii keessanii hidhadhaa; warra of qaban ta'aa; abdii
keessanis guutumaan guutuutti ayyaana yeroo Yesuus Kiristoos mul'atutti isinii
kennamu sana irra kaa'adhaa. 14 Akka ijoollee ajajamanii ta'aa malee hawwii hamaa
bara wallaalummaa keessanii sana duukaa hin bu'inaa. 15 Qooda kanaa akkuma inni
isin waame sun qulqulluu ta'e, isinis waan hojjetan hundumaan qulqulloota ta'aa;
16 "Ani qulqulluudhaatii isinis qulqulloota ta'aa"† jedhamee barreeffameeraatii.
17 Isin erga isa utuu wal hin caalchisin nama hunda akkuma hojii isaatti itti muru
sana "Abbaa" jettanii waammattanii bara keessummummaa keessan isa sodaachaa
jiraadhaa. 18 Isin akka jireenya faayidaa hin qabne kan abbootii keessan irraa

---

* **1:11** 1:11 yookaan Masiihichaa † **1:16** 1:16 Lew 11:44,45; 19:2; 20:7

dhaaltan irraa waan baduu danda'u kan akka meetiitii fi warqeetiin hin furamin
beektuutii. [19] Garuu dhiiga gatii guddaa qabu, dhiiga Kiristoos jechuunis hoolaa
mudaa yookaan hanqina hin qabne sanaatiin furamtaniirtu. [20] Inni utuu addunyaan
hin uumamin duraan dursee beekame; garuu isiniif jedhee bara dhumaa kana keessa
mul'ate. [21] Isinis karaa isaatiin Waaqa warra du'an keessaa isa kaasee ulfina isaaf
kenne sanatti amantu; kunis akka amantii fi abdiin keessan Waaqayyo ta'uuf.
[22] Egaa isin waan akka obboloota keessaniif jaalala dhugaa qabaattaniif jettanii
dhugaadhaaf ajajamuun of qulqulleessitaniif, cimsaatii garaa qulqulluudhaan wal
jaalladhaa. [23] Isin karaa dubbii Waaqaa isa jiraatuu fi cimee dhaabatu sanaatiin
sanyii hin badne irraa lammata dhalattan malee sanyii badu irraa miti.
[24] "Foon hundi akkuma margaa ti;
ulfinni isaa hundis akkuma daraaraa margaa ti;
margi ni coollaga; daraaraanis ni harca'a;
[25] dubbiin Gooftaa garuu bara baraan ni jiraata."‡
Dubbiin kunis wangeela isinitti lallabame sana.

# 2

[1] Kanaafuu hammina hunda, gowwoomsaa hunda, itti fakkeessummaa, weennoo
fi maqaa nama balleessuu hunda of irraa fageessaa. [2] Akka ittiin fayyina keessaniin
guddattaniifis akkuma daa'imman reefuu dhalataniitti aannan hafuuraa qulqullaa'aa
sana jabeessaa dharra'aa; [3] isin gaarummaa Gooftaa dhandhamattaniirtuutii.

### *Dhagaa Jiraataa fi Saba Filatame*

[4] Isin erga gara isaa, gara Dhagaa jiraataa namoonni tuffatanii Waaqni garuu filate
gati jabeessa sanaa dhuftanii, [5] isinis akkuma aarsaa hafuuraa kan karaa Yesuus
Kiristoosiin Waaqa biratti fudhatamaa ta'e dhi'eessuudhaan luboota qulqullaa'oo
ta'uuf akkuma dhagaawwan jiraatootti mana hafuuraa taatanii ijaaramaa jirtu.
[6] Katabbiin Qulqulluun,
"Kunoo, ani Xiyoon keessa, dhagaa tokko,
dhagaa golee filatamaa gati jabeessa nan kaa'a;
namni isa amanatu
kam iyyuu hin qaana'u"*
jedhaatii. [7] Kanaafuu dhagaan kun isin warra amantaniif dhagaa gati jabeessaa dha.
Warra hin amanneef garuu,
"Dhagaan ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee ta'eera."†
[8] Akkasumas,
"Dhagaa nama gufachiisu,
kattaa nama kuffisu ta'e"‡
jedhameera. Isaanis waan dubbii sanaaf ajajamuu didaniif gufatan; dhugumaanuu
isaan kanumaaf ramadaman.
[9] Isin garuu akka galata isa dukkana keessaa gara ifa isaa dinqisiisaatti isin waame
sanaa labsitaniif dhaloota filatame, luboota mootii, saba qulqulluu, saba Waaqaa kan
addaa taataniirtu. [10] Isin dur saba Waaqaa hin turre; amma garuu saba Waaqaa ti;
isin dur araara hin arganne; amma garuu araara argattaniirtu.

### *Jireenya Waaqatti Tolu Jiraachuu*

[11] Yaa michoota jaallatamoo, isin waan addunyaa keessatti alagootaa fi keessum-
moota taataniif akka hawwii foonii kan lubbuu keessan lolu irraa fagaattan ani isinin
gorsa. [12] Akka ormoonni akka waan isin hammina hojjetaniitti maqaa isin balleessan

‡ **1:25** 1:25 Isa 40:6-8 * **2:6** 2:6 Isa 28:16 † **2:7** 2:7 Far 118:22 ‡ **2:8** 2:8 Isa 8:14

sun, hojii keessan isa gaarii arganii guyyaa Waaqni nu ilaaluu dhufutti ulfina isaaf kennaniif isaan gidduutti amala gaarii qabaadhaa.

### *Bulchitootaaf Buluu*

13 Gooftaadhaaf jedhaatii taayitaa namaa hunda jalatti bulaa; mootii taayitaa ol
aanaa qabu 14 yookaan bulchitoota inni akka isaan namoota balleessaa hojjetan
adabanii warra waan qajeelaa hojjetan immoo galateeffataniif erge hundumaa
jalattis bulaa. 15 Waaqni akka isin waan gaarii hojjechuudhaan haasaa wallaalummaa
namoota gowwaa afaan qabachiiftan fedhaatii. 16 Akka warra bilisummaa qabaniitti
jiraadhaa; bilisummaa keessan immoo hammina dhoksuuf itti hin fayyadaminaa;
garuu akka tajaajiltoota Waaqaatti jiraadhaa. 17 Nama hunda kabajaa; obbolummaa
amantootaa jaalladhaa; Waaqa sodaadhaa; mootiifis ulfina kennaa.

### *Gooftoliidhaaf Buluu*

18 Yaa garboota, isinis gooftota keessan warra gaarii fi toloota qofa utuu hin
ta'in warra jal'ootas sodaa hundaan jalatti bulaa. 19 Namni tokko yoo Waaqaaf
jedhee dhiphina dabaan isatti dhufe obse galata qaba. 20 Isin yoo sababii balleessaa
hojjettaniif dhaanamtanii obsitan galata maalii argattu? Garuu yoo sababii waan
qajeelaa hojjettaniif dhiphattanii obsitan kun fuula Waaqaa duratti galata qaba.

### *Fakkeenya Kiristoos*

21 Wanni isin waamamtaniifis kanuma. Kiristoos akka isin faana isaa duukaa
buutaniif jedhee isiniif dhiphachuudhaan fakkeenya isinii kenneeraatii.
22 "Inni cubbuu hin hojjenne;
sobni afaan isaatii hin baane."§
23 Yeroo isaan isa arrabsanitti inni isaan hin arrabsine; yeroo dhiphatettis nama hin
doorsifne. Garuu isa qajeelummaan muru sanatti imaanaa of kenne. 24 Inni mataan
isaa akka nu cubbuuf duunee qajeelummaaf immoo jiraannuuf jedhee dhagna
isaatiin cubbuu keenya fannoo irratti baate; isinis madaa isaatiin fayyitaniirtu.
25 Isin dur akkuma hoolota karaa irraa badanii turtan; amma garuu gara Tiksee fi
Phaaphaasii lubbuu keessaniitti deebitaniirtu.

## 3

### *Niitonni Dhirsootaaf Buluu*

1 Yaa niitota, yoo dhirsoonni dubbicha hin amanne tokko tokko jiraatan akka
isaan dubbii tokko malee amaluma niitota isaaniitiin booji'amaniif isinis akkasuma
dhirsoota keessaniif ajajamaa; 2 isaanis yommuu qulqullinaa fi sodaa isin jireenya
keessan keessatti qabdan arganitti ni booji'amu. 3 Miidhaginni keessan faaya
alaan mul'atuun jechuunis shurrubbaa dha'achuu, warqee kaa'achuu fi uffata
bareedaa uffachuun hin ta'in; 4 qooda kanaa miidhaginni keessan miidhagina
keessa namummaa keessanii haa ta'u; innis miidhagina hafuura garraamii fi
tasgabbaa'aa, kan hin badne, kan fuula Waaqaa duratti gatii guddaa qabu haa
ta'u. 5 Dubartoonni qulqulloonni durii warri Waaqa abdatanis akkasuma dhirsoota
isaaniitiif ajajamuudhaan of miidhagsan; 6 Saaraanis Abrahaamiin "Gooftaa" jettee
waamaa isaaf ajajamaa turte. Isinis yoo waan qajeelaa hojjettanii fi sodaachuu
baattan intallan ishee ti.

### *Dirqama Dhirsootaa*

7 Yaa dhirsoota, isinis akkasuma akka isaan dadhaboo ta'an hubadhaatii ulfina
isaaniif kennuudhaan niitota keessan wajjin jiraadhaa; kanas sababii isaanis isin

§ **2:22** 2:22 Isa 53:9

wajjin ayyaana jireenyaa dhaalaniif akka wanni tokko iyyuu kadhaa keessan hin gufachiifneef jedhaatii godhaa.

### *Sababii Waan Gaarii Hojjetaniif Dhiphachuu*

8 Dhuma irratti hundi keessan yaada tokko qabaadhaa; walii na'aa; akka
obbolootaatti wal jaalladhaa; garaa laafotaa fi warra gad of qabanis ta'aa. 9 Hamaa,
hamaadhaan hin deebisinaa; yookaan arrabsoo, arrabsoodhaan hin deebisinaa;
qooda kanaa eebbisaa. Isinis akka eebba dhaaltaniif kanumaaf waamamtaniitii.
10 "Namni jireenya jaallatu,
kan bara gaariis arguu hawwu kam iyyuu,
arraba isaa hammina irraa,
hidhii isaa immoo soba dubbachuu irraa haa eeggatu.
11 Inni hammina irraa deebi'ee gaarii haa hojjetu;
nagaa haa barbaadu; duukaa haa bu'us.
12 Iji Gooftaa qajeeltota irra jiraatii;
gurri isaas kadhata isaaniitiif banamaa dha;
garuu fuulli Gooftaa warra hamaa hojjetanitti ni hammaata."*
13 Isin gaarii hojjechuuf yoo hinaaftan, eenyutu isin miidha? 14 Garuu yoo
qajeelummaaf jettanii dhiphattan isin eebbifamoo dha. "Sodaachisuu isaanii hin
sodaatinaa; hin jeeqaminaas."† 15 Garuu garaa keessan keessatti Kiristoos Gooftichaaf
ulfina guddaa kennaa. Nama sababii abdii isin qabdan sanaa isin gaafatu kamiif
iyyuu deebii kennuuf yeroo hunda qophaa'aa. Waan kana immoo garraamummaa
fi sodaan godhaa; 16 isinis yommuu namoonni waa'ee keessan waan hamaa
dubbatanitti akka warri amala gaarii isin Kiristoos keessatti qabdan sana arrabsan
qaana'aniif yaada gaarii qabaadhaa. 17 Dhiphachuun keessan fedhii Waaqaa yoo ta'e,
hamaa hojjettanii dhiphachuu irra gaarii hojjettanii dhiphachuu wayya.

### *Fakkeenya Kiristoos*

18 Kiristoosis Waaqatti isin fiduuf jedhee inni qajeelaan, warra qajeeltota hin
ta'iniif si'a tokko cubbuuf dhiphateeraatii. Inni fooniin ni ajjeefame; Hafuuraan
garuu jiraataa taasifame; 19 erga jiraataa taasifamee immoo dhaqee hafuurota mana
hidhaa jiranitti lallabe; 20 isaanis bara Nohi keessa utuu dooniin ijaaramaa jiruu,
yeroo Waaqni obsaan eegetti warra hin ajajaminii dha. Doonii kanaanis nama
muraasa, walumatti nama saddeeti qofatu badiisa bishaanii jalaa ba'e; 21 bishaan kun
fakkeenya cuuphaa amma iyyuu isin fayyisuu ti; kunis dhagna irraa xurii baasuu
utuu hin ta'in qalbii qulqulluun Waaqaaf waadaa galuu dha. Innis du'aa ka'uu
Yesuus Kiristoosiin isin fayyisa; 22 Kiristoos samiitti ol ba'ee mirga Waaqaa jira;
ergamoonni Waaqaa, aangoowwanii fi humnoonni hundinuu isa jalatti bulu.

# 4

### *Waaqaaf Jiraachuu*

1 Kanaafuu waan Kiristoos foon isaatiin dhiphateef isinis yaaduma akkasiitiin
hidhadhaa; sababiin isaas inni fooniin dhiphate cubbuu dhiiseera. 2 Kanaafuu inni
bara jireenya isaa kan foonii isa hafe sana akka fedhii Waaqaatti jiraata malee
akka hawwii namaatti hin jiraatu. 3 Yeroon isin duraan waan ormoonni hojjechuu
jaallatan sana jechuunis jireenya gad dhiisii irratti, hawwii foonii irratti, machii
irratti, addaggummaa irratti, gar malee dhuguu fi waaqeffannaa waaqota tolfamoo
kan jibbisiisaa ta'e irratti balleessitan sun haa ga'u. 4 Isaanis sababii isin gara jireenya
gad dhiisii akkasiitti isaan wajjin hin fiigneef ni dinqisiifatu; isin arrabsus. 5 Garuu

* **3:12** 3:12 Far 34:12-16 † **3:14** 3:14 Isa 8:12

isaan Waaqa warra jiranii fi warra du'anitti muruuf qophaa'e sana duratti deebii ni
kennu. 6 Kanaafuu karaa fooniitiin akkuma namaatti akka isaanitti muramuuf, karaa
hafuuraatiin immoo akka Waaqaatti akka jiraataniif wangeelli warra du'anii jiranitti
iyyuu lallabameera.

### *Dhuma Waan Hundumaa*

7 Dhumni waan hundaa dhi'aateera. Kanaaf akka Waaqa kadhachuu dandeessaniif
dammaqaa; warra of qabanis ta'aa. 8 Waan hunda caalaatti jaalala ho'aa waliif
qabaadhaa; jaalalli cubbuu baay'ee dhoksaatii. 9 Guungummii malee wal keessum-
siisaa. 10 Tokkoon tokkoon namaa kennaa warra kaan tajaajiluuf argate kam iyyuu
akkuma abbaa imaanaa amanamaa kan ayyaana Waaqaa bifa garaa gaaraatiin jiru
sanaa tokkootti itti fayyadamuu qaba. 11 Namni dubbatu kam iyyuu akka nama
dubbii Waaqaa dubbatuutti haa dubbatu. Namni tajaajilu kam iyyuu akka Waaqni
waan hunda keessatti karaa Yesuus Kiristoosiin galateeffamuuf jedhee jabina Waaqni
isaaf kenneen haa tajaajilu. Ulfinnii fi humni bara baraa hamma bara baraatti isaaf
haa ta'u. Ameen.

### *Sababii Kiristaana Ta'aniif Dhiphachuu*

12 Yaa michoota jaallatamoo, qorama akka ibiddaa kan amma ittiin dhiphachaa
jirtan kana akka waan wanni haaraan isinitti dhufeetti hin dinqisiifatinaa. 13 Garuu
isin yeroo ulfinni isaa mul'atutti akka baay'ee gammaddaniif waan dhiphina
Kiristoos keessatti qooda fudhattaniif gammadaa. 14 Yoo maqaa Kiristoosiitiif jettanii
arrabsamtan isin eebbifamoo dha; Hafuurri ulfinaatii fi Hafuurri Waaqaa isin irra
boqotaatii. 15 Isin keessaa namni kam iyyuu akka nama nama ajjeesuutti yookaan
akka hattuutti yookaan akka nama yakka hojjetuutti yookaan akka nama dubbii
namaa keessa seenuutti hin dhiphatin. 16 Garuu namni tokko yoo sababii Kiristaana
ta'eef dhiphate maqaa sanaan Waaqa haa galateeffatu malee hin qaana'in. 17 Yeroon
itti murtiin mana Waaqaatii jalqabu dhi'aateeraatii; murtiin kun yoo nurratti jalqaba
ta'e dhumni warra wangeela Waaqaatiif hin ajajamnee akkam haa ta'u ree?
18 "Erga qajeeltonni fayyuun rakkisaa ta'e,
namni Waaqatti hin bullee fi cubbamaan maal haa ta'u ree?"*
19 Kanaafuu warri akka fedhii Waaqaatti dhiphatan lubbuu isaanii Uumaa isaanii
amanamaa sanatti imaanaa kennatanii waan gaarii hojjechuutti haa fufan.

## 5

### *Maanguddootaa fi Karra Hoolotaatiif*

1 Ani akka maanguddoo akkuma isaanii tokkootti, akka dhuga baatuu dhiphina
Kiristoosii fi akka nama ulfina mul'achuuf jiru sana keessatti qooda qabu tokkootti
akkana jedhee maanguddoota isin gidduu jiran sana nan gorsa; 2 karra hoolotaa
Waaqaa kan tika keessan jala jiru eeguudhaan tiksoota ta'aa; kanas sababii
dirqamtaniif utuu hin ta'in fedhiidhuma keessaniin akka Waaqni akka isin taatan
barbaadutti, bu'aa nama qaanessu argachuuf utuu hin ta'in hawwii guddaa tajaa-
jilaaf qabdaniin godhaa; 3 karra hoolotaatiif fakkeenya ta'aa malee warra imaanaa
isinitti kennaman sana humnaan hin bulchinaa. 4 Isinis yommuu hangafni tiksootaa
mul'atutti gonfoo ulfinaa kan miidhaginni isaa irraa hin badne argattu.

### *Dargaggootaaf*

5 Yaa dargaggoota, isinis akkasuma maanguddoota jalatti bulaa. Hundi keessanis
tokkoo tokkoo keessaniif gad of qabiisa akka wayyaatti uffadhaa;
"Waaqni of tuultotaan ni morma;

---

* **4:18** 4:18 Fak 11:31

warra gad of qabaniif immoo ayyaana kennaatii.”*
6 Kanaafuu akka Waaqni yeroo malutti ol isin qabuuf, harka isaa humna qabeessa
sana jalatti gad of qabaa. 7 Inni isiniif waan yaaduuf, yaaddoo keessan hunda isa irra
kaa’adhaa.
8 Warra of qaban ta’a; dammaqaas. Diiyaabiloos diinni keessan nama liqimsu
barbaadee akkuma leenca aaduu nanaanna’aatii. 9 Sababii akka obboloonni keessan
warri addunyaa guutuu keessa jiraatan dhiphina akkasii dhiphachaa jiran beektaniif
amantiitti jabaadhaatii isaan mormaa.
10 Waaqni ayyaana hundaa karaa Kiristoosiin gara ulfina isaa kan bara baraatti isin
waame sun erga isin yeroo gabaabaaf dhiphattanii booddee inni mataan isaa guutuu
isin taasisa; isin dhaaba; isin jabeessas. 11 Bara baraa hamma bara baraatti humni
isaaf haa ta’u. Ameen.

*Dhaamsa Nagaa Xumuraa*

12 Anis isin jajjabeessuudhaaf, akka wanni kun ayyaana Waaqaa isa dhugaa
ta’e sana dhugaa ba’uuf harka Silwaanos isa ani akka obboleessa amanamaatti
hedu sanaatiin gabaabumatti barreessee isinii ergeera. Ayyaana kanaan jabaadhaa
dhaabadhaa.

13 Waldaan kiristaanaa isheen isin wajjin filatamtee Baabilon keessa jirtu sun nagaa
isinii dhaamti; ilmi koo Maarqosis akkasuma nagaa isinii dhaama.
14 Dhungoo jaalalaatiin nagaa wal gaafadhaa.

Isin warra kan Kiristoos taatan hundaaf nagaan haa ta’u.

* **5:5** 5:5 Fak 3:34

# Phexros
# Lammaffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Simoon Phexros garbichaa fi ergamaa Yesuus Kiristoos irraa,

Gara warra karaa qajeelummaa Waaqa keenyaa fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoosiin amantii akkuma amantii keenyaa gatii guddaa qabu sana argattaniitti:

2 Beekumsa Waaqaatii fi beekumsa Gooftaa keenya Yesuusiin ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu.

*Waamamuu fi Filatamuu Ofii Mirkaneeffachuu*

3 Humni waaqummaa isaa karaa isa ulfina isaatii fi gaarummaa isaatiin nu
waame sana beekuu keenyaatiin waan jireenyaa fi Waaqatti buluuf nu barbaachisu
hundumaa nuuf kenneera. 4 Kennaa kanaanis isin badiisa sababii hawwii hamaatiin
addunyaa keessa jiru jalaa baatanii akka amala waaqummaa isaa sana keessatti
hirmaattaniif jedhee karaa kennaa kanaatiin waadaa isaa guddaa fi kan gatii guddaa
qabu nuuf galeera.
5 Sababuma kanaaf amantii keessan irratti gaarummaa, gaarummaa irrattis
beekumsa dabalachuuf waan isinii danda'ame hunda godhaa; 6 akkasuma beekumsa
irratti of qabuu, of qabuu irratti obsaan dhaabachuu, obsaan dhaabachuu irratti
Waaqatti buluu, 7 Waaqatti buluu irratti jaalala obbolummaa, jaalala obbolummaa
irratti immoo jaalala dhugaa dabaladhaa. 8 Yoo isin waan kana hunda qabaattanii
ittuma isinii baay'achaa deeme, wanni kun akka isin Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos
beekuu keessatti dadhaboo fi bu'aa dhabeeyyii hin taane isin godha. 9 Garuu namni
waan kana hin qabne kam iyyuu jaamaa dha; fagoottis arguu hin danda'u; cubbuu
isaa durii sana irraa qulqulleeffamuu isaa irraanfateera.
10 Kanaaf yaa obboloota ko, waamamuu fi filatamuu keessan mirkaneeffachuuf
caalaatti hinaaffaa qabaadhaa. Yoo waan kana gootan isin hin gufattan; 11 akkasiin
gara mootummaa bara baraa kan Gooftaa keenyaa fi Fayyisaa keenya Yesuus
Kiristoositti galuun guutummaatti isiniif kennama.

*Raajii Katabbii Qulqulluu*

12 Kanaafuu isin wantoota kanneen beektanii, dhugaa amma qabdan kanatti
jabaatanii dhaabattanii iyyuu ani yeroo hunda wantoota kanneen isin yaadachiisuu
nan barbaada. 13 Ani hamman dunkaana kana keessa jirutti waan kana isin
yaadachiisuudhaan isin dammaqsuu koo qajeelaa nan se'a; 14 ani akka Gooftaan
keenya Yesuus Kiristoos naaf ibsetti, dunkaana koo kana akkan dafee of irraa baasu
beekaatii. 15 Ani akka isin erguma ani isin biraa godaanee booddee yeroo hunda
waan kana yaadachuu dandeessan gochuuf nan carraaqa.
16 Nu yommuu waa'ee humnaa fi dhufaatii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos
isinitti himnetti, surraa isaa ijuma keenyaan argineeti malee oduu haxxummaadhaan
uumame duukaa buunee miti. 17 Innis yommuu sagaleen, "Kun Ilma koo isa ani
jaalladhuu dha; ani isatti baay'ee nan gammada"* jedhu sun Ulfina Surra qabeessa
sana biraa dhufeefitti, Waaqa Abbaa biraa kabajaa fi ulfina argateeraatii. 18 Nu

* **1:17** 1:17 Mat 17:5; Mar 9:7; Luq 9:35

mataan keenya iyyuu yeroo isa wajjin tulluu qulqulluu irra turretti, utuu sagaleen
kun samii irraa dhufuu dhageenye.

19 Kanaafuu dubbiin raajonni dubbatan sun ittuma caalee nuuf mirkaneeffame;
isinis hamma boruun baqaqee bakkalchi barii garaa keessan keessatti ba'utti yoo
akkuma ibsaa dukkana keessatti ibsuutti dubbii kanaaf xiyyeeffannoo kennitan waan
gaarii gochuu keessan. 20 Raajiin Katabbii Qulqulluu kam iyyuu hiikkaa raajichaa kan
mataa isaatiin akka hin dhufin duraan dursitanii beekuu qabdu. 21 Raajiin takkumaa
fedhii namaatiin hin dhufneetii; garuu namoota Waaqaatu Hafuura Qulqulluudhaan
geggeeffamee dubbate.

# 2

*Barsiistota Sobduu fi Badiisa Isaanii*

1 Akkuma raajonni sobduun saba gidduu turan sana, barsiistonni sobduun isin
gidduu ni jiraatu. Isaan Goofticha isaan fure sana gananii, barsiisa sobaa kan
nama balleessu dhoksanii galchu; kanaanis badiisa ariifatu ofitti fidu. 2 Namoonni
baay'eenis amala isaanii isa qaanessaa sana duukaa bu'u; sababii isaaniitiinis karaan
dhugaa ni arrabsama. 3 Barsiistonni kunneen doqnummaa isaaniitiin oduu ofumaan
uumanii odeessaniin isin qisaasu. Murtiin bara dheeraan dura isaanitti murame sun
amma illee hojjechaa jira; badiisni isaaniis hin mugu.

4 Waaqni yeroo ergamoonni cubbuu hojjetanitti utuu isaanii hin hilin akka isaan
guyyaa murtiitiif turfamaniif foncaadhaan dukkana keessatti hidhee gahaannamitti
erga isaan darbatee, 5 utuu addunyaa duriitiif hin hilin Nohi isa qajeelummaa
lallabu namoota biraa torba wajjin oolchee warra Waaqatti hin bulletti bishaan
badiisaa erga fidee, 6 magaalaawwan Sodoomii fi Gomoraas hamma isaan daaraa
ta'anitti gubuudhaan itti muree, fakkeenya waan warra Waaqaaf hin bulletti dhufuuf
jiruu erga isaan godhee, 7 namicha qajeelaa jechuunis Looxi isa jireenya xuraa'aa
finciltootaatiin dhiphachaa ture sana erga badiisa oolchee, 8 namichi qajeelaan sun
yeroo gidduu isaanii jiraachaa turetti guyyuma guyyaan fincila isaanii sana arguu fi
dhaga'uudhaan lubbuun isaa qajeeltuun sun isa keessatti dhiphachaa turtee, 9 wanni
kun akkas ta'ee Gooftaan akkamitti akka warra Waaqaaf bulan qorumsa keessaa
baasuu fi akka itti warra jal'aa hamma guyyaa murtiitti adabbiif tursu beeka.

10 Wanni kun keessumattuu warra hawwii foonii xuraa'aa sana duukaa bu'anii fi
warra abbootii taayitaa tuffatanitti ni cima.

Namoonni kunneen ija jabeeyyii fi of tuultota; isaan ulfina qabeeyyii samii
arrabsuu hin sodaatan; 11 ergamoonni iyyuu yoo isaan caalaa jajjaboo fi humna
qabeeyyii ta'an iyyuu fuula Gooftaa duratti uumamawwan akkasii arrabsanii hin
himatan. 12 Namoonni kunneen garuu waanuma hin hubanne arrabsu. Isaan
akkuma bineensota qalbii hin qabnee ti; akkuma uumamawwan miira isaaniitiin qa-
jeelfaman kanneen qabamuu fi ajjeefamuu qofaaf dhalatanii ti; akkuma bineensonni
sun badanitti jarris ni badu.

13 Miidhaa isaan hojjetaniif miidhaatu deebi'aaf. Isaan guyyaa adiidhaan gara
malee machaa'uu akka gammachuutti fudhatu. Yeroo isin wajjin nyaataa fi
dhugaatiitti dhi'aatanittis isaan gowwoomsaa isaaniitiin gidduu keessanitti xurii fi
waan fafaa ta'u. 14 Waan iji isaanii ejjaan guutameef isaan cubbuu hojjechuu hin
dhiisan; warra hin jabaatin gowwoomsu; garaan isaanii doqnummaa barateera; isaan
ijoollee abaaramanii dha! 15 Karaa qajeelaa dhiisanii karaa Bala'aam ilma Bosoor isa
gatii jal'inaa jaallate sanaa duukaa bu'uuf karaa irraa badan. 16 Bala'aam garuu
sababii dogoggora isaatiif harreen isa ifatte; horiin duudaan afaan namaa dubbattee
maraatummaa raajii sanaa ittifte.

17 Namoonni kunneen burqaa bishaan hin qabnee fi hurrii bubbeen oofamuu
dha. Dukkanni limixiin isaaniif kaa’ameera. 18 Isaan dubbii faayidaa hin qabnee
fi dubbii of tuulummaa odeessu; warra namoota jireenya dogoggoraa keessa jiraatan
keessaa baqatanii ba’an hawwii foonii hamaadhaan gowwoomsu. 19 Isaan utuma ofii
isaaniitii iyyuu garboota badiisaa ta’anii jiranuu birmadummaa isaan abdachiisu;
namni tokko waan isa mo’ate kamiifuu ni garboomaatii. 20 Isaan erga Gooftaa
keenyaa fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos beekuudhaan xuraa’ummaa addunyaa
keessaa ba’anii booddee yoo amma illee deebi’anii xuraa’ummaa sanaan qabamanii
fudhataman haalli isaanii kan dhumaa isa jalqabaa sana caalaa hammaata. 21 Isaan
karaa qajeelinaa beekanii ajaja qulqulluu isaanii kenname sanatti dugda galuu
irra utuu duraanuu karaa qajeelinaa sana beekuu baatanii isaaniif wayya ture.
22 Mammaaksi, “Sareen diddiga isheetti deebiti”* akkasumas, “Booyyeen dhiqamte
dhoqqee keessa gangalachuu isheetti deebiti” jedhu sun isaan irratti mirkaneeffame.

# 3

*Guyyaa Gooftaa*

1 Yaa michoota jaallatamoo, ani amma xalayaa lammaffaa isiniif barreessuu koo ti.
Lamaan isaanii iyyuu keessatti isin yaadachiisuudhaan qalbii keessan qulqulluu sana
nan kakaasa. 2 Isin dubbii dur raajota qulqulluudhaan dubbatamee fi ajaja Gooftaa
keenyaa fi Fayyisaa keenyaa kan karaa ergamoota keessaniitiin dubbatame sana akka
yaadattan nan barbaada.

3 Akka bara dhumaa keessa ga’istoonni ga’isaa hawwii hamaa kan ofii isaanii
duukaa bu’aa dhufan duraan dursaatii beekaa. 4 Isaanis, “ ‘dhufaatiin’ inni waadaa
gale kun meerre? Wanni hundinuu erga abbootiin keenya du’anii jalqabee akkuma
yeroo jalqaba uumamaatti itti fufeeraatii” jedhu. 5 Garuu isaan akka samiiwwan bara
baay’een dura dubbii Waaqaatiin uumaman, akka laftis bishaan irraa fi bishaaniin
tolfamte utuma beekanuu didan. 6 Addunyaan yeroo sanaas bishaanuma kanaan
liqimfamee bade. 7 Dubbiidhuma kanaanis samiiwwanii fi lafti yeroo ammaa jiran
kunneen guyyaa murtii, kan badiisa namoota Waaqaaf hin bulleetiif kaa’amanii
ibiddaaf turfamaniiru.

8 Yaa michoota jaallatamoo, isin garuu waan tokkicha kana hin irraanfatinaa.
Gooftaa biratti guyyaan tokko akka waggaa kumaa, waggaan kumnis akka guyyaa
tokkoo ti. 9 Gooftaan akka namoonni tokko tokko lafa irra harkifata jedhanii yaadan
sana, waadaa isaa guutuu irratti lafa irra hin harkifatu. Inni akka namni hundinuu
qalbii jijjiirrachuuf jedhee isinii obsa malee akka namni tokko iyyuu badu barbaadee
miti.

10 Guyyaan Gooftaa garuu akkuma hattuutti dhufa. Samiiwwan sagalee guddaad-
haan dhabamu; wanni samiiwwan keessa jiru hundinuus ho’a guddaadhaan baqa;
laftii fi wanni ishee irra jiru hundinuus ni gubata.

11 Wanni hundinuu akkasitti bada erga ta’ee, isin nama akkamii ta’uu qabdu
ree? Jireenya qulqulluu fi Waaqaaf bulu jiraachuu qabdu; 12 kanas guyyaa Waaqaa
eeggachaa, dhufaatii isaas ariifachiisaa gochuu qabdu. Guyyaa sana samiiwwan
ibiddaan badu; wanni samiiwwan keessa jirus ho’aan baqa. 13 Nu garuu akkuma
waadaa isaatti samiiwwan haaraa fi lafa haaraa qajeelinni keessa jiraatu eegganna.

14 Kanaafuu yaa michoota jaallatamoo, isinis sababii waanuma kana eeggataniif
akka warra xurii fi hir’ina hin qabne, warra nagaan isa wajjin jiraatan taataniif
yaalii isinii danda’ame hunda godhaa. 15 Akkuma Phaawulos obboleessi keenya
jaallatamaan sun ogummaa Waaqni kenneefiin isinii barreesse sana akka obsi
Gooftaa keenyaa fayyina ta’e yaadatti qabadhaa. 16 Innis waa’ee waan kanaa

* **2:22** 2:22 Fak 26:11

dubbatee xalayoota isaa hunda keessatti haaluma kanaan barreessa. Xalayoota isaa keessas waan hubachuun nama rakkisu tokko tokkotu jira; wallaaltonnii fi warri jabaatanii hin dhaabanne akkuma Katabbiiwwan Qulqulluu kaan jal'isan sana kanas badiidhuma ofii isaaniitiif ni jal'isu.

### *Yaada Xumuraa*

17 Kanaaf yaa michoota jaallatamoo, isin sababii duraan dursitanii waan kana beektaniif akka dogoggora finciltootaatiin fudhatamnii hundee jabaattanii irra dhaabattan irraa hin kufneef of eeggadhaa.
18 Garuu ayyaanaa fi beekumsa Gooftaa keenyaa fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoosiin guddadhaa.

Ammas, bara baraanis ulfinni isaaf haa ta'u! Ameen.

# Yohannis Tokkoffaa

*Dubbii Jireenyaa*

1 Nu waa'ee Dubbii* jireenyaa kan jalqabaa kaasee ture, kan dhageenye, kan ija
keenyaan argine, kan ilaallee fi kan harki keenyas qaqqabe kana labsina. 2 Jireenyi
mul'ateera; nus isa argineerra; dhugaas ni baanaaf; nu jireenya bara baraa isa
Abbaa wajjin turee fi isa nutti mul'ate sana isinitti labsina. 3 Akka isinis nu
wajjin tokkummaa qabaattaniif waan arginee fi waan dhageenye isinitti labsina.
Tokkummaan keenyas Abbaa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos wajjin. 4 Nus akka
gammachuun keenya guutuu ta'uuf waan kana barreessina.

*Ifaa fi Dukkana*

5 Ergaan nu isa irraa dhageenye, kan isinittis labsinu isa kana: Kunis akka Waaqni
ifa ta'ee fi akka dukkanni gonkumaa isa keessa hin jirree dha. 6 Nu isa wajjin
tokkummaa qabna jennee yoo dukkana keessa deddeebine ni sobna; dhugaa sanaanis
hin jiraannu. 7 Garuu akkuma inni ifa keessa jiru sana, nus yoo ifa keessa deddeebine
walii wajjin tokkummaa qabna; dhiigni Ilma isaa Yesuus cubbuu hundumaa irraa nu
qulqulleessa.

*Cubbuu fi Dhiifama*

8 Nu yoo cubbuu hin qabnu jenne of gowwoomsina; dhugaanis nu keessa hin
jiru. 9 Yoo cubbuu keenya himanne, inni cubbuu keenya nuu dhiisuuf amanamaa
fi qajeelaa dha; jal'ina hunda irraas nu qulqulleessa. 10 Nu yoo cubbuu hin hojjennee
jenne immoo sobduu isa goona; dubbiin isaas nu keessa hin jiru.

## 2

1 Yaa ijoollee ko, ani akka isin cubbuu hin hojjenneef kana isiniifan barreessa.
Garuu yoo namni kam iyyuu cubbuu hojjete nu Abbaa biraa abukaattoo qabna; innis
Yesuus Kiristoos Isa Qajeelaa sana. 2 Inni aarsaa cubbuu keenyaaf araara buusuu
dha; cubbuu addunyaa hundaatiifis malee cubbuu keenya qofaaf miti.

*Amantoota Jaallachuu fi Jibbuu*

3 Nu yoo ajaja isaa eegne, kanaan akka isa beekne ni beekna. 4 Namni, "Ani isa nan
beeka" jedhu kan garuu ajaja isaa hin eegne kam iyyuu sobduu dha; dhugaanis isa
keessa hin jiru. 5 Garuu yoo namni kam iyyuu dubbii isaatiif ajajame, jaalalli Waaqaa
dhugumaan isa keessatti guutuu ta'a. Kanaanis nu akka isa keessa jirru ni beekna;
6 namni ani isaanan jiraadha ofiin jedhu kam iyyuu akkuma Yesuus jiraate sanatti
jiraachuu qaba.

7 Yaa obboloota, ani ajaja moofaa isuma jalqabaa kaasee isin bira ture sana malee
ajaja haaraa isinii hin barreessu. Ajajni moofaan kunis ergaadhuma isin dhageessan
sana. 8 Ta'us ani ajaja haaraa tokko isiniif nan barreessa; sababiin isaas dukkanichi
darbaa, ifni dhugaa immoo waan amma iyyuu ifaa jiruuf dhugaan isaa isa keessattii
fi isin keessatti ni mul'ata.

9 Namni ani ifa keessa jira ofiin jechaa obboleessa isaa immoo jibbu kam iyyuu
amma illee dukkana keessa jira. 10 Namni obboleessa isaa jaallatu hundinuu ifa
keessa jiraata; wanni isa gufachiisu tokko iyyuu isa keessa hin jiru. 11 Namni

* **1:1** 1:1 Dubbii – dubbiin kun dubbii Waaqaa kan addunyaan ittiin uumamtee jiraatuu dha; dubbichi eenyummaa Waaqaa mul'isa; fedhii isaa, ogummaa fi humna isaas ni ibsa. Dubbiin kun Yesuus Kiristoosiin foon ta'e.

obboleessa isaa jibbu garuu dukkana keessa jira; dukkanuma keessa jiraatas; inni waan dukkanni sun isa jaamseef gara itti adeemu hin beeku.

### *Sababii Ergaan Kun Barreeffameef*

12 Yaa ijoolle, cubbuun keessan sababii maqaa isaatiif
waan isinii dhiifameef ani isiniifin barreessa.
13 Yaa abbootii, isin waan isa jalqabumaa kaasee jiru sana beektaniif
ani isiniifin barreessa.
Yaa dargaggoota, isin waan isa hamaa sana mo'attaniif,
ani isiniifin barreessa.

14 Yaa ijoolle, isin waan Abbaa beektaniif,
ani isiniifin barreessa.
Yaa abbootii, isin waan isa jalqabumaa kaasee jiru sana beektaniif,
ani isiniifin barreessa.
Yaa dargaggoota, isin waan jajjaboo taataniif,
waan dubbiin Waaqaa isin keessa jiraatuuf,
waan isa hamaa sanas mo'attaniif,
ani isiniifin barreessa.

### *Addunyaa Hin Jaallatinaa*

15 Addunyaa yookaan waan addunyaa keessa jiru tokko illee hin jaallatinaa. Eenyu
iyyuu yoo addunyaa jaallate, jaalalli Abbaa isa keessa hin jiru. 16 Wanni addunyaa
keessa jiru hundinuu jechuunis hawwiin foonii, hawwiin ijaa, akkasumas waan
qabaniin kooruun kan addunyaati malee kan Abbaa miti. 17 Addunyaa fi hawwiin
ishee ni badu; namni fedhii Waaqaa raawwatu garuu bara baraan jiraata.

### *Ilma Ganuu Irraa Of Eeggachuu*

18 Yaa ijoolle, sa'aatiin kun sa'aatii dhumaa ti; akka farri Kiristoos sun dhufu
akkuma dhageessan sana ammuma iyyuu farroonni Kiristoos baay'een dhufaniiru.
Kanaanis nu akka sa'aatiin kun sa'aatii dhumaa ta'e beekna. 19 Isaan nu keessaa
ba'an malee dhugumaan kan keenya hin turre. Utuu kan keenya ta'anii silaa nu
biratti hafu turan; nu biraa deemuun isaanii garuu akka tokkoon isaanii iyyuu keenya
hin ta'in mul'ise.
20 Isin garuu Isa Qulqulluu sanaan dibamtaniirtu; isin hundis dhugaa ni beektu.
21 Sababiin ani isinii barreessuuf waan isin dhugaa beektanii fi akka sobni tokko
iyyuu dhugaa keessa hin jirres beektaniif malee waan isin dhugaa hin beekneef miti.
22 Nama Yesuus kun Kiristoos miti jedhee ganu malee sobduun eenyu ree? Namni
akkasii farra Kiristoos; inni Abbaa fi Ilma ni gana. 23 Namni Ilma ganu kam iyyuu
Abbaa illee hin qabu; namni waa'ee Ilmaa dhugaa ba'u hundinuu Abbaas qaba.
24 Wanni isin jalqabaa kaaftanii dhageessan sun isin keessa haa jiraatu. Yoo
wanni jalqabaa kaaftanii dhageessan isin keessa jiraate, isinis Ilmaa fi Abbaadhaan
ni jiraattu. 25 Wanni inni waadaa nuu gale kanaa dha; kunis jireenya bara baraa ti.
26 Ani waa'ee warra karaa irraa isin jal'isuu yaalan sanaatiif waan kana isiniifin
barreessa. 27 Garuu dibanni isin isa irraa argattan sun waan isin keessa jiraatuuf
namni tokko iyyuu isin barsiisuu hin barbaachisu; dibanni isaa sun garuu waan
waa'ee hundumaa isin barsiisuuf, dibanni sun waan dhugaa malee soba hin ta'iniif
akkuma inni isin barsiise sanatti isumaan jiraadhaa.

### *Ijoollee Waaqaatii fi Cubbuu*

28 Ammas yaa ijoolle, akka yommuu inni mul'atutti ija jabina qabaannuuf, akka nu
guyyaa dhufaatii isaattis fuula isaa duratti hin qaanofneef isaan jiraadhaa.

[29] Isin yoo akka inni qajeelaa ta’e beektan, akka namni waan qajeelaa hojjetu
hundinuu isa irraa dhalate ni beektu.

# 3

[1] Nu akka ijoollee Waaqaa jedhamnee waamamnuuf jaalalli Abbaan nurratti
dhangalaase akkam guddaa dha! Nus akkasuma ijoollee isaa ti! Addunyaan waan isa
hin beekiniif nu hin beeku. [2] Yaa michoota jaallatamoo, nu amma ijoollee Waaqaa
ti; gara fuula duraatti immoo maal akka taanu amma hin ibsamne. Garuu yommuu
inni mul’atutti sababii akkuma inni jirutti isa arginuuf nu akkuma isaa akka taanu
ni beekna. [3] Namni akkasitti isa abdatu hundinuu akkuma inni qulqulluu ta’e sana
of qulqulleessa.

[4] Namni cubbuu hojjetu kam iyyuu seeratti ni fincila; cubbuun finciluudhaatii.
[5] Isin garuu akka inni cubbuu keenya balleessuudhaaf mul’ate ni beektu. Isa keessa
cubbuun hin jiru. [6] Namni isaan jiraatu kam iyyuu cubbuu hin hojjetu. Namni
cubbuu hojjetu kam iyyuu isa hin argine yookaan isa hin beekne.

[7] Yaa ijoolle, namni tokko iyyuu isin hin gowwoomsin. Akkuma inni qajeelaa
ta’e sana namni waan qajeelaa hojjetus qajeelaa dha. [8] Namni cubbuu hojjetu kan
diiyaabiloos; diiyaabiloos jalqabumaa kaasee cubbuu hojjetaatii. Ilmi Waaqaa hojii
diiyaabiloos diiguudhaaf mul’ateetii. [9] Namni Waaqa irraa dhalate kam iyyuu waan
sanyiin Waaqaa isa keessa jiraatuuf cubbuu hojjechuutti hin fufu; inni waan Waaqa
irraa dhalateef cubbuu hojjechuu hin danda’u. [10] Ijoolleen Waaqaatii fi ijoolleen
diiyaabiloos kanaan gargar baafamanii beekamu: Namni waan qajeelaa hin hojjenne
yookaan obboleessa isaa hin jaallanne kam iyyuu kan Waaqaa miti.

### *Waa’ee Jaalalaa fi Jibbaa*

[11] Ergaan isin jalqabaa kaaftanii dhageessan isa, “Nu wal jaallachuu qabna” jedhuu
dha. [12] Isin akka Qaayin isa kan isa hamaa sanaa ta’ee obboleessa isaa ajjeese sanaa
hin ta’inaa; inni maaliif obboleessa isaa ajjeese? Sababii hojiin isaa jal’aa ta’ee,
kan obboleessa isaa immoo qajeelaa ta’eef. [13] Yaa obboloota ko, yoo addunyaan
isin jibbe isin hin dinqin. [14] Nu sababii obboloota jaallannuuf du’a keessaa gara
jireenyaatti akka ceene ni beekna. Namni obboleessa isaa hin jaallanne du’a keessa
jiraata. [15] Namni obboleessa isaa jibbu kam iyyuu nama nama ajjeesuu dha; isinis
akka namni nama ajjeesu jireenya bara baraa of keessaa hin qabne beektu.

[16] Yesuus Kiristoos lubbuu isaa dabarsee nuuf kenneera: Jaalalli maal akka
ta’es kanaan beekna; nus akkasuma lubbuu keenya dabarsinee obboloota keenyaaf
kennuu qabna. [17] Namni qabeenya addunyaa qabu kam iyyuu yoo obboleessa isaa
rakkataa argee garaa itti jabaate jaalalli Waaqaa akkamitti isa keessa jiraachuu
danda’a? [18] Yaa ijoollee jaallatamoo, kottaa dubbiin yookaan afaan qofaan utuu hin
ta’in hojii fi dhugaadhaan jaallannaa.

[19] Nus kan dhugaa ta’uu keenya kanaan beekna; fuula isaa durattis garaa keenya
boqochiifna. [20] Yeroo garaan keenya nutti murutti Waaqni garaa keenya caalaa
guddaa akka ta’e ni beeknaatii; inni waan hunda ni beeka. [21] Yaa michoota,
yoo garaan keenya nutti muruu baate nu fuula Waaqaa duratti ija jabina qabna.
[22] Nus sababii ajaja isaa eegnuu fi sababii waan isa gammachiisu hojjennuuf waan
kadhannu hunda isa irraa ni arganna. [23] Ajajni isaas kana: kunis nu maqaa Ilma isaa
Yesuus Kiristoositti akka amannuu fi akkuma inni nu ajajetti akka wal jaallannuuf.
[24] Namni ajaja isaa eegu isa keessa jiraata; innis isa keessa jiraata. Kanaanis akka
inni nu keessa jiraatu nu Hafuura inni nuu kenneen ni beekna.

# 4

*Waa'ee Falmii Fooniin Mul'achuu Kiristoos*

1 Yaa michoota, hafuuronni kan Waaqaa ta'uu fi ta'uu baachuu isaanii ilaaluuf
qoradhaa malee hafuurota hunda hin amaninaa; raajonni sobduun hedduun addun-
yaa seenaniiru. 2 Haalli isin ittiin Hafuura Waaqaa beektanis kanuma: Hafuurri
akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe dhugaa ba'u hundi kan Waaqaa ti; 3 hafuurri
akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe dhugaa hin baane hundi kan Waaqaa miti. Inni
hafuura farra Kiristoos, kan isin akka inni dhufu dhageessan sanaa ti; innis ammuma
iyyuu addunyaa keessa jira.

4 Yaa ijoolle, isin kan Waaqaa ti; jaras mo'attaniirtu; inni isin keessa jiru kan
addunyaa keessa jiru sana caalaa guddaadhaatii. 5 Isaan kan addunyaa ti; kanaaf
wanni isaan dubbatanis kanuma addunyaa ti; addunyaanis isaan dhaggeeffata. 6 Nu
kan Waaqaa ti; namni Waaqa beeku hundinuus nu dhaggeeffata; namni kan Waaqaa
hin ta'in garuu nu hin dhaggeeffatu. Kanaanis Hafuura dhugaatii fi hafuura sobaa
addaan baafnee ni beekna.

*Jaalala Waaqaatii fi Jaalala Keenya*

7 Yaa michoota, jaalalli kan Waaqaa waan ta'eef kottaa wal jaallannaa. Namni
jaallatu hundi Waaqa irraa dhalate; Waaqas ni beeka. 8 Sababii Waaqni jaalala
ta'eef, namni hin jaallanne hundi Waaqa hin beeku. 9 Waaqni akka nu karaa
isaatiin jireenya argannuuf jedhee Ilma isaa tokkicha sana gara addunyaatti erge.
Kanaanis jaalalli Waaqaa nu gidduutti mul'ateera. 10 Jaalalli isa kana: Kunis nu
Waaqa jaallannee miti; garuu Waaqatu nu jaallatee akka inni aarsaa cubbuu keenyaaf
araara buusu ta'uuf Ilma isaa erge. 11 Yaa michoota, erga Waaqni akkana nu jaallatee
nus wal jaallachuu qabna. 12 Namni tokko iyyuu takkumaa Waaqa hin argine; yoo
wal jaallanne garuu Waaqni nu keessa jiraata; jaalalli isaas nu keessatti guutuu ta'a.
13 Inni waan Hafuura isaa irraa nuu kenneef nu akka isa keessa jiraannuu fi akka
innis nu keessa jiraatu kanaan ni beekna. 14 Akka inni Fayyisaa addunyaa ta'uuf
jedhee Abbaan Ilma isaa akka erge argineerra; dhugaa baanas. 15 Yoo namni kam
iyyuu Yesuus Ilma Waaqaa akka ta'e dhugaa ba'e, Waaqni isa keessa jiraata; innis
Waaqa keessa jiraata.
16 Kanaafuu jaalala Waaqni nuuf qabu beekneerra; amanneerras.

Waaqni jaalala. Namni jaalalaan jiraatu Waaqa keessa jiraata; Waaqnis isa keessa
jiraata. 17 Nus akka guyyaa murtiitti ija jabina qabaannuuf karaa kanaan jaalalli nu
gidduutti guutuu ta'eera; nu addunyaa kana irratti Yesuusin fakkaannaatii. 18 Jaalala
keessa sodaan hin jiru. Sodaan waan adabbii wajjin wal qabatee jiruuf jaalalli mudaa
hin qabne sodaa of keessaa baasee gata. Namni sodaatu tokko jaalalli isaa guutuu
miti.
19 Nu sababii inni duraan dursee nu jaallateef isa jaallanna. 20 Namni, "Ani
Waaqa nan jaalladha" jechaa obboleessa isaa immoo jibbu kam iyyuu sobduu dha.
Namni obboleessa isaa kan arge sana hin jaallanne kam iyyuu Waaqa hin argin sana
jaallachuu hin danda'u. 21 Inni ajaja kana nuu kenneera: Namni Waaqa jaallatu kam
iyyuu obboleessa ofii isaa jaallachuu qaba.

# 5

*Ilma Waaqaatti Amanuu*

1 Yesuus kun Kiristoos akka ta'e namni amanu hundinuu Waaqa irraa dhalate;
namni Abbaa jaallatu hundinuus kan Abbaa irraa dhalates ni jaallata. 2 Nu yommuu
Waaqa jaallannuu fi yommuu ajaja isaa eegnutti akka ijoollee Waaqaa jaallannu
kanaan beekna. 3 Waaqa jaallachuun ajaja isaa eeguu dha. Ajajni isaas hin ulfaatu.

[4] Namni Waaqa irraa dhalatu hundinuu addunyaa ni mo'ataatii. Kan addunyaa
mo'atus amantii keenya. [5] Yesuus Ilma Waaqaa ta'uu isaa nama amanu malee
eenyutu addunyaa mo'ata?
[6] Inni bishaanii fi dhiigaan dhufe isa kana; innis Yesuus Kiristoos. Inni bishaanii
fi dhiigaan dhufe malee bishaan qofaan hin dhufne. Kanas Hafuuratu dhugaa ba'a;
Hafuurri dhugaadhaatii. [7] Dhuga baatota sadiitu jira: [8] Isaanis Hafuura, bishaanii fi
dhiiga; sadanuus walii galu. [9] Dhuga ba'umsa namaa ni fudhanna; dhuga ba'umsi
Waaqaa garuu kana caalaa guddaa dha; dhuga ba'umsi kun isa Waaqni waa'ee Ilma
isaa dhugaa ba'e sana. [10] Namni Ilma Waaqaatti amanu kam iyyuu dhuga ba'umsa
kana garaa isaa keessaa qaba. Namni Waaqa hin amanne garuu waan isa Waaqni
waa'ee Ilma isaa dhugaa ba'e sana hin amaniniif inni Waaqa sobduu godheera.
[11] Dhuga ba'umsi sunis isa kana: Waaqni jireenya bara baraa nuu kenneera; jireenyi
sunis Ilma isaa keessa jira. [12] Namni Ilma sana qabu jireenya qaba; namni Ilma
Waaqaa hin qabne immoo jireenya hin qabu.

### *Dhaamsa Xumuraa*

[13] Isin warri maqaa Ilma Waaqaatti amantan jireenya bara baraa qabaachuu
keessan akka beektaniif ani waan kana isinii barreessa. [14] Ija jabinni nu fuula
Waaqaa duratti qabnu isa kana: yoo nu akka fedhii isaatti waan hunda isa kadhanne
inni nuuf dhaga'a. [15] Nu yoo akka inni waan nu kadhannu hunda nuuf dhaga'u
beekne, akka waan isa kadhannes argannu ni beekna.
[16] Namni kam iyyuu utuu obboleessi isaa cubbuu gara du'aatti hin geessine hojjetuu
yoo arge Waaqa kadhachufii qaba; Waaqnis warra cubbuun isaanii gara du'aatti
isaan hin geessineef jireenya ni kenna. Cubbuun gara du'aatti nama geessu jira;
anis waan akkasiitiif inni haa kadhatu jechuu koo miti. [17] Jal'inni hundinuu cubbuu
dha; cubbuun gara du'aatti nama hin geessines jira.
[18] Namni Waaqa irraa dhalate kam iyyuu akka cubbuu hojjechuutti hin fufne ni
beekna; Inni Waaqa irraa dhalate sun isa eega; inni hamaan isa tuquu hin danda'u.
[19] Nu ijoollee Waaqaa akka taane, addunyaan guutuunis to'annaa isa hamaa sanaa
jala akka jiru ni beekna. [20] Akkasumas akka Ilmi Waaqaa dhufee akka isa dhugaa
ta'e sanas beeknuuf hubannaa nuu kenne ni beekna. Nus Ilma isaa isa dhugaa sana,
jechuunis Yesuus Kiristoositti jirra. Inni Waaqa dhugaa ti; jireenya bara baraatis.

[21] Yaa ijoolle, waaqota tolfamoo irraa of eegaa.

# Yohannis
# Lammaffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Jaarsicha irraa,

Gara giiftii filatamtuu fi ijoollee ishee, warra ani dhugaadhaan jaalladhu, warra
ana qofa utuu hin ta’in warri dhugaa beekan hundi akkasuma jaallataniitti; 2 kunis
sababii dhugaa nu keessa jiraatuu fi isa bara baraan nu wajjin jiraatu sanaatiif:

3 Ayyaanni, araarrii fi nagaan Waaqa Abbaa biraa, Yesuus Kiristoos Ilma Abbaa
biraas, dhugaa fi jaalalaan nu wajjin ni ta’a.

*Galata Galchuu*

4 Ani waan ijoollee kee keessaa tokko tokko akka isaan akkuma Abbaan nu ajajetti
dhugaan jiraatan argeef baay’ee gammadeera. 5 Ammas yaa giiftii jaallatamtuu, ani
ajaja durumaa jalqabee nuuf kenname sana malee ajaja haaraa siif barreessuutti hin
jiru. Akka wal jaallannuufis sin kadhadha. 6 Jaalallis kana: kunis ajaja isaa eegnee
jiraachuu dha. Akkuma isin durumaa jalqabdanii dhageessan sana ajajni isaa akka
isin jaalalaan jiraattanii dha.
7 Gowwoomsitoonni akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe hin amanne hedduun
addunyaa seenaniiru. Namni akkanaa kam iyyuu gowwoomsituu fi farra Kiristoos.
8 Isin akka gatii guutuu argattan malee akka waan hojjettan sana hin dhabneef of
eeggadhaa. 9 Namni barsiisa Kiristoosiin hin jiraanne kan barsiisa sana keessaa ba’u
kam iyyuu Waaqa hin qabu; namni barsiisa Kiristoosiin jiraatu hundinuu immoo
Abbaas Ilmas qaba. 10 Isin yoo namni kam iyyuu gara keessan dhufee garuu barsiisa
kana hin fidin, mana keessanitti ol isa hin galchinaa yookaan isa hin simatinaa.
11 Namni isa simatu kam iyyuu hojii isaa hamaa sana keessatti qooda qabaataatii.

*Xumuraa fi Dhaamsa Nagaa*

12 Ani waanan isiniif barreessu baay’ee qaba; ta’us waraqaa fi qalamiitti
fayyadamuu hin barbaadu. Qooda kanaa akka gammachuun keenya guutuu ta’uuf
ani gara keessan dhufee ifaan ifatti haasofnu abdiin qaba.

13 Ijoolleen obboleettii kee kan filatamte sanaas nagaa siif dhaamu.

# Yohannis
## Sadaffaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Jaarsicha irraa,

Gara Gaayoos michuu koo, isa ani dhugaadhaan jaalladhuutti.

*Gaayoosin Galateeffachuu Isaa*

2 Yaa michuu ko, akkuma lubbuu keetti tole sana akka wanni hundinuu sitti toluu fi
akka ati fayyaa qabaattuuf nan kadhadha. 3 Obboloonni tokko tokko dhufanii akka ati
dhugaaf amanamaa taatee fi akka ati dhugaadhaan jiraattu natti himnaan ani akka
malee gammade. 4 Ijoolleen koo dhugaadhaan jiraachuu isaanii dhaga'uu caalaa ani
gammachuu guddaa hin qabu.
5 Yaa michuu ko, yoo isaan keessummoota sitti ta'an illee ati waan obbolootaaf
gootu keessatti amanamaa dha. 6 Isaan waa'ee jaalala keetii waldaa kiristaanaatti
himaniiru. Maaloo haala Waaqatti toluun karaan isaanii irratti isaan gargaari.
7 Isaan Maqaa isaatiif jedhanii utuu ormoota irraa gargaarsa tokko illee hin argatin
ba'aniiruutii. 8 Kanaafuu nu akka isaan wajjin dhugaaf hojjennuuf namoota akkasii
simannee gargaaruu qabna.
9 Ani waldaa kiristaanaatiif barreesseera; garuu isaan keessaa Diiyoxiraaxiis inni
duree ta'uu barbaadu nu hin simatu. 10 Kanaafuu ani yoon dhufe waan inni maqaa
keenya balleessuudhaan hojjechaa jiru ifatti nan baasa. Akka waan wanni kun isa
hanqateetti inni obboloota simachuu dida. Warra isaan simachuu barbaadanis ni
dhowwa; waldaa kiristaanaa keessaas isaan ari'a.
11 Yaa michuu ko, waan gaarii duukaa bu'i malee waan hamaa duukaa hin bu'in.
Namni waan gaarii hojjetu kam iyyuu kan Waaqaa ti. Namni waan hamaa hojjetu
garuu takkumaa Waaqa hin argine. 12 Namni hundi Dimeexiroosiif dhugaa ba'a;
dhugaan mataan ishee iyyuu dhugaa baati. Nus dhugaa baanaaf; isinis akka dhuga
ba'umsi keenya dhugaa ta'e ni beektu.

*Eebba Dhumaatii fi Nagaa Dhaamuu Isaa*

13 Ani waanan siif barreessu baay'ee qaba; garuu biirii fi qalamiidhaan barreessuu
hin barbaadu. 14 Qooda kanaa ani dhi'ootti si arguuf abdii qaba; nus ifaan ifatti ni
haasofna.

15 Nagaan siif haa ta'u.

Michoonni as jiran nagaa siif dhaamu. Atis michoota achi jiran tokko tokkoon maqaa dha'iitii nagaa itti nuu himi.

# Yihuudaa

*Nagaa Gaafachuu*

1 Yihuudaa obboleessa Yaaqoob garbicha Yesuus Kiristoos irraa,

Gara warra waamamanii Waaqa Abbaadhaan jaallataman kanneen Yesuus Kiris-
toosiin eegamaniitti:

2 Araarri, nagaanii fi jaalalli isiniif haa baay'atu.

*Cubbuu fi Badiisa Warra Waaqaaf Hin Bullee*

3 Yaa michoota, ani waa'ee fayyina nu walii wajjin qooddannu kanaa isiniif
barreessuuf guddisee nan hawwan ture; garuu akka isin amantii yeroo tokko
bara baraan qulqulloota Waaqaatti imaanaa kenname sanaaf jabaattanii loltaniif
isiniif barreessee isin gorsuun barbaachisaa natti fakkaate. 4 Namoonni bara
dheeraan dura murtii kanaaf murteeffaman tokko tokko loo'anii gidduu keessan
seenaniiruutii. Isaanis namoota Waaqaaf hin bulle, warra ayyaana Waaqa keenyaa
gara halalummaatti geeddaran kanneen Gooftaa Ol aanaa tokkicha jechuunis Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoosin gananii dha.

*Fakkeenya Murtii Gantootatti Muramee*

5 Yoo isin duraanuu waan kana hunda beektan illee, ani akka Gooftaan yeroo
tokko saba isaa Gibxii baasee ergasii immoo warra hin amanin balleesse isin
yaadachiisuu nan barbaada. 6 Innis ergamoota sadarkaa taayitaa isaanii irra hin
turin, kanneen lafa jireenya isaanii dhiisan sana foncaa bara baraatiin hidhee hamma
murtii Guyyaa guddaa sanaatti dukkana keessa turseera. 7 Sodoomii fi Gomoraan,
magaalaawwan naannoo isaanii jiranis akkasuma halalummaa fi hawwii foonii kan
haala uumamaatiin ala ta'etti dabarsanii of kennaniiru. Isaanis warra adaba ibidda
bara baraatiin adabamaniif fakkeenya ta'aniiru.

*Gantoota Bara Yihuudaa*

8 Haaluma wal fakkaatuunis namoonni abjootan kunneen foon ofii isaanii
xureessu; gooftummaa ni tuffatu; ulfina qabeeyyii illee ni arrabsu. 9 Garuu Miikaa'el
hangafni* ergamoota Waaqaa iyyuu yeroo waa'ee reeffa Musee† irratti diiyaa-
biloosiin walitti falmanitti, "Gooftaan si haa ifatu!" jedhe malee isa arrabsuudhaan
itti muruuf ija hin jabaanne. 10 Namoonni kunneen garuu waanuma hin hubanne
arrabsu; waan isaan akkuma bineensota waa yaaduu hin dandeenyeetti miiraan
hubatantu isaan balleessa.

---

* **1:9** 1:9 hangafni ergamaa hangafa yookaan bulchaa ergamootaa – ergamoota kanneen keessaa ja'a *1 Henok 20:2-7* keessatti eeramaniiru. Maqaan isaaniis "Rufaa'el, Re'uu'eel, Miikaa'el, Saaraaqeel, Gabri'eelii fi Raamaa'eel" fe'a. Miikaa'el kitaaba Dan 12:1 irratti akka Israa'eloota eegu ibsameera. Inni jalqabatti akka ergamaa saba Israa'el irraa humna diiyaabiloos eegu tokkootti ilaalama ture. Mul 12:7 irratti Miikaa'el akka waldoota Kiristaanaa irraa boficha seexana jedhamu sana eegu ibsameera. † **1:9** 1:9 Reeffa Musee – oduun kun Kakuu Moofaa keessatti hin argamu. Kakuun Moofaan akka namni tokko iyyuu lafa Museen itti awwaalame hin beekne dubbata (KeD 34:6). Garuu yeroo Museen du'eetti akka inni reeffa Musee awwaaluuf akka itti gaafatamni Miikaa'elitti kenname namichi Orgeen jedhamu tokko Waggaa Araaraa keessa waggaa jalqabaatti barreessee ture. Ta'us diiyaabiloos waan bulchaa addunyaa tureef reeffa Musee irratti gooftummaa ofii argisiisuu yaale. Yommuu Miikaa'el reeffa Musee kennuufii didetti immoo sababii Museen nama Gibxi tokko ajjeeseef isa himachuuf dubbii barbaade (Bau 2:12). Miikaa'el garuu seexana abaaruudhaan deebii hin kennine; qooda kanaa harkuma ofiitiin Musee awwaale.

11 Isaaniif wayyoo! Isaan karaa Qaayin irra deeman; faayidaa argachuuf jedhanii
dogoggora Bala'aam keessa of buusan; fincila Qooraahiitiinis‡ ni barbadaa'an.
12 Namoonni kunneen utuma xuraa'oo ta'anii jiranuu qaanii tokko malee cidha
jaalalaa§ isin wajjin nyaatu; isaan tiksoota ofuma isaanii qofa sooranii dha. Isaan
akkuma duumessa bokkaa hin qabne kan bubbeen asii fi achi oofuu ti; akkuma
muka yeroo itti ija naqachuu qabutti ija dhabee buqqifamee dachaa lama du'ee
ti. 13 Isaan warra akka dambalii galaanaa hoomacha qaanii isaanii baasanii dha;
akkuma urjiiwwan asii fi achi jooran kanneen dukkanni limixiin hamma bara
baraatti isaanii kaa'amee ti.
14 Henook inni Addaam irraa jalqabee torbaffaa ture sun akkana jedhee waa'ee
namoota kanaa raajii dubbateera: "Kunoo, Gooftaan qulqulloota isaa kumaatama
wajjin ni dhufa; 15 innis nama hundatti muruuf, warra Waaqaaf hin bulle kanneen
karaa Waaqni hin jaallanneen waan Waaqni hin jaallanne hojjetan hundaa fi dubbii
hamaa cubbamoonni Waaqaaf hin bulle hundinuu isa irratti dubbatan hundatti isaan
gaafachuuf ni dhufa." 16 Namoonni kunneen yeroo hunda ni guungumu; komiis ni
qabaatu; hawwii isaanii isa hamaa duukaa bu'u; of jaju; faayidaa argachuuf jedhaniis
nama saadu.

### *Jabaatanii Dhaabachuu*

17 Yaa michoota, isin garuu waan ergamoonni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos
duraan dursanii himan sana yaadadhaa. 18 Isaanis, "Qoostonni hawwii fedhii
Waaqaatiin ala ta'e duukaa bu'an bara dhumaa keessa ni dhufu" isiniin jedhan.
19 Namoonni kunneen warra gargar ba'uu uuman, warra hawwii foonii duukaa
bu'anii fi warra Hafuura Qulqulluu hin qabnee dha.
20 Isin garuu yaa michoota, amantii keessan kan waan hunda irra qulqulluu ta'e
sana irratti of ijaaraa; Hafuura Qulqulluudhaanis kadhadhaa. 21 Araarri Gooftaa
keenya Yesuus Kiristoos jireenya bara baraatti akka isin geessu eeggachaa jaalala
Waaqaatiin of eegaa.
22 Warra shakkii qabaniif garaa laafaa; 23 Warra kaan ibidda keessaa butaatii
oolchaa; kaan immoo uffata hawwii fooniitiin xureeffame iyyuu balfaatii sodaadhaan
isaan maaraa.

### *Eebba Xumuraa*

24 Isa gufachuu isin oolchuu danda'uu fi isa fuula ulfina isaa duratti hir'ina
malee, gammachuu guddaadhaan isin dhi'eessuu danda'u sanaaf, 25 Fayyisaa keenya
Waaqa tokkichaaf ulfinni, surraan, humnii fi taayitaan karaa Gooftaa keenya Yesuus
Kiristoosiin bara hundumaan dura, amma, bara baraanis haa ta'u! Ameen.

---

‡ **1:11** 1:11 fincila Qooraahiitiinis – Qooraahi tajaajila lubummaa keessatti qooda qabaachuu jedhee namoota biraa 250 wajjin dura bu'ummaa Museetii fi Aroon irratti fincile. Dhuma irratti warri fincilan hundinuu miseensota maatii isaanii hunda wajjin lafa afaan banatteen liqimfaman (Lak 16:1-35). § **1:12** 1:12 Cidha jaalalaa – waldaa kiristaanaa kan durii keessatti yeroo miseensonni tokkummaa isaanii kan Waaqaa fi walii isaaniitiif qaban ibsuuf walitti dhufanitti irbaata halkaniitu ture. "Cidhi jaalalaa" yeroo hunda irbaata tokkummaatiin hobba'a.

# Mul’ata Yohannis

*Seensa*

1 Kun mul’ata Yesuus Kiristoos, kan akka inni waan dhi’ootti ta’uu qabu garboota
isaatti argisiisuuf jedhee Waaqni isaaf kennee dha. Innis ergamaa isaa gara garbicha
isaa Yohannisitti ergee akka mul’anni sun beekamu godhe; 2 Yohannis isa waan
arge hundumaa jechuunis dubbii Waaqaatii fi dhuga ba’umsa Yesuus Kiristoos
dhugaa ba’uu dha. 3 Namni dubbii raajii kana dubbisu eebbifamaa dha; warri
waan raajii sana keessatti barreeffame dhaga’anii eeganis eebbifamoo dha; barichi
dhi’aateeraatii.

*Nagaa Gaafachuu fi Waaqa Galateeffachuu*

4 Yohannis irraa,

Gara waldoota kiristaanaa kanneen biyya Asiyaa keessa jiran torbaniitti:

Isa jiru, isa ture, Isa dhufuuf jiruu fi Hafuurota torban fuula teessoo isaa dura
jiran irraa, 5 akkasumas Yesuus Kiristoos dhuga baatuu amanamaa, hangafa warra
du’aniitii fi bulchaa mootota lafaa ta’e sana irraa ayyaannii fi nagaan isiniif haa ta’u.

Isa nu jaallatuu fi isa dhiiga isaatiin cubbuu keenya irraa bilisa nu baase, 6 isa akka
nu Waaqa isaatii fi Abbaa isaa tajaajilluuf mootummaa fi luboota nu taasise sanaaf
ulfinnii fi humni bara baraa hamma bara baraatti haa ta’u! Ameen.

7 “Kunoo, inni duumessa wajjin dhufa;*
iji hundinuu,
warri isa waraanan iyyuu isa ni argu;”
saboonni lafaa hundinuus “sababii isaatiif ni wawwaatu.”†
Akkasuma ta’a! Ameen.

8 Waaqni Gooftaan Waan Hunda Danda’u, “Ani Alfaa fi Omeegaa dha; isa jiru, isa
turee fi isa dhufuuf jiruu dha” jedha.

*Yohannis Mul’ataan Kiristoosin Arguu Isaa*

9 Ani obboleessi keessan Yohannis dhiphina keessatti, mootummaa fi obsa Yesuus
Kiristoos keessattis isin wajjin kan hirmaadhu sababii dubbii Waaqaatii fi sababii
dhuga ba’umsa Yesuus Kiristoosiif Phaaximoos biyya bishaaniin marfamte irran
ture. 10 Anis guyyaa Gooftaatti Hafuuraanin ture; dugda koo duubaanis sagalee
guddaa akka malakataa tokko nan dhaga’e; 11 sagaleen sunis, “Waan argitu
kitaaba maramaa irratti barreessiitii gara waldoota kiristaanaa torbaniitti jechuunis
Efesoonitti, Samirnaatti, Phergaamoonitti, Tiyaatiraatti, Sardeesitti, Filaadelfiyaattii
fi Lodooqiyaatti ergi” jedhe.

12 Anis sagalee natti dubbachaa ture sana ilaaluuf jedheen of irra gara gale. Ani
yommuun of irra gara galetti baattuuwwan ibsaa kanneen warqee irraa hojjetaman
torba nan arge; 13 baattuuwwan ibsaa sana gidduus kan, “ilma namaa fakkaatu”‡
tokkotu ture; innis uffata dheeraa miilla ga’u uffatee, naannoo qoma isaatti immoo

* **1:7** 1:7 Dan 7:13 † **1:7** 1:7 Zak 12:10 ‡ **1:13** 1:13 Dan 7:13

sabbata warqee hidhatee ture. 14 Mataan isaatii fi rifeensi mataa isaa adii akka
rifeensa hoolaa, adii akka cabbii ture; iji isaas akka arraba ibiddaa turte. 15 Miilli
isaas naasii boolla ibiddaa keessatti diimeffame fakkaata ture; sagaleen isaa immoo
akkuma sagalee bishaan baay'ee ti. 16 Harka isaa mirgaatiin urjiiwwan torba qabatee
ture; afaan isaa keessaas goraadee qara lama qabutu ba'aa ture. Fuulli isaas biiftuu
humna guutuun iftu fakkaata ture.

17 Ani yommuun isa argetti akka nama du'ee miilla isaa jalattin kufe. Inni
immoo harka isaa mirgaa narra kaa'ee akkana naan jedhe: "Hin sodaatin. Ani kan
Jalqabaatii fi kan Dhumaa ti. 18 Isa jiraataa dhas; ani du'een ture; kunoo, bara baraa
hamma bara baraatti nan jiraadha! Furtuu du'aatii fi kan Sii'oolis qaba.

19 "Kanaafuu ati waan argite, waan amma jiruu fi waan gara fuulduraatti ta'u
barreessi. 20 Icciitiin urjiiwwan torbaa kanneen ati harka koo mirgaa keessatti
argiteetii fi baattuuwwan ibsaa kanneen warqee irraa hojjetaman torbanii isa kana:
Urjiiwwan torban ergamoota waldaa kiristaanaa torbaa ti; baattuuwwan ibsaa
torban immoo waldoota kiristaanaa torbanii dha.

# 2

*Gara Waldaa Kiristaanaa Efesoonitti*

1 "Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Efesoonitti*akkana jedhii barreessi:

Inni urjiiwwan torba harka isaa mirgaatti qabatee baattuuwwan ibsaa kanneen warqee irraa hojjetaman gidduu deddeebi'u sun akkana jedha.

2 Ani hojii kee, dadhabbii keetii fi obsaan dhaabachuu kee beeka. Akka ati
cal'iftee namoota hamoo hin dhiifne, warra utuu ergamoota hin ta'in ergamoota
ofiin jedhan qortee akka isaan sobduu ta'an mirkaneessites nan beeka. 3 Ati
maqaa kootiif jettee obsaan dhaabatteerta; rakkina obsiteerta; hin dadhabnes.
4 Ta'us jaalala kee isa jalqabaa dhiisuu keetiif ani waan sirraa jibbu xinnoo qaba.
5 Kanaaf ati maal irraa akka kufte yaadadhu! Qalbii jijjiirradhuutii hojii kee kan
duraa sana hojjedhu. Yoo ati qalbii jijjiirrachuu baatte immoo ani sittin dhufa;
baattuu ibsaa keetiis iddoo isaatii nan fuudha. 6 Garuu waan gaarii tokko qabda:
Hojii Niqolaawotaa kan ani jibbu sana atis ni jibbita. 7 Namni gurra qabu waan
Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u. Nama mo'atu akka inni
muka jireenyaa kan jannata Waaqaa keessa jiru irraa nyaatuuf mirga nan kennaaf.

*Gara Waldaa Kiristaanaa Samirneesitti*

8 "Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Samirnaatti†akkana jedhii barreessi:

Inni Jalqabaatii fi inni Dhumaa, inni du'ee turee fi amma immoo jiraataa ta'e sun akkana jedha.

9 Ani rakkinaa fi hiyyummaa kee beeka; ta'us ati sooressa! Arrabsoo warra
utuu Yihuudoota hin ta'in Yihuudoota ofiin jedhan sanaas nan beeka; isaan garuu
waldaa Seexanaa ti. 10 Dhiphina sirra ga'uuf jiru hin sodaatin. Kunoo, akka
qoramtaniif diiyaabiloos isin keessaa namoota tokko tokko mana hidhaatti ni

---

* **2:1** 2:1 Efesoonitti – Efesoon magaalaa guddoo fi beekamtuu biyya Asiyaa ti; Asiyaan immoo biyya Roomaa Keessatti argamti. Isheenis buufata doonii kan hojiin itti baay'attuu fi kan daldalaan badhaatee dha; wiirtuu falfala waaqittii Arxeemis (Hoj 19:27,35 ilaalaa) akkasumas lafa hojiin falfalaa itti hojjetamu turte (Hoj 19:19).
† **2:8** 2:8 Samirnaatti – Samirnees (amma Ismiir) magaalaa Soorettii fi buufata doonii kan Yihuudoonni hedduun keessa jiraatan turte. Samirnees mana qulqullummaa moofaa (dullacha) tokko waaqittii Roomaatiif qabdi turte; inni haaraan immoo mooticha Xibaariyoosiif kenname.

galcha. Guyyaa kudhanis ni dhiphattu. Ati hamma du’aatti amanamaa ta’i; ani
gonfoo jireenyaa siifin kennaatii. 11 Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota
kiristaanaatiin jedhu haa dhaga’u. Namni mo’atu du’a lammaffaan hin miidhamu.

*Gara Waldaa Kiristaanaa Phergaamoonitti*

12 “Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Phergaamoonitti‡akkana jedhii
barreessi:

Inni goraadee qaramaa afaan lamaa qabu sun akkana jedha.

13 Ani iddoo ati jiraattu beeka; innis iddoo teessoon Seexanaa jiruu dha. Ta’us
ati maqaa koo jabeessitee qabatteerta. Bara Antiiphaas dhuga baatuun koo
amanamaan magaalaa keessan keessatti iddoo Seexanni jiraatutti ajjeefame illee
ati amantii narratti qabdu hin dhiifne. 14 Haa ta’uu malee sababii ati namoota
barsiisa Bala’aam§duukaa bu’an achii qabduuf ani waan sirraa jibbu xinnoo qaba;
namni akka inni saba Israa’el dura gufuu kaa’ee akka isaan nyaata waaqota
tolfamoof aarsaa dhi’eeffame nyaatanii fi akka isaan halalummaadhaan jiraatan
godhuuf jedhee Baalaaqin barsiise Bala’aam tureetii. 15 Akkasumas namoota
barsiisa Niqolaawotaa duukaa bu’an tokko tokko of biraa qabda. 16 Kanaafuu qalbii
jijjiirradhu! Yoo kanaa achii ani dafeen sitti dhufa; goraadee afaan kootiitiinis jara
sana nan lola. 17 Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu
haa dhaga’u. Nama mo’atuuf mannaa dhokfame irraa nan kenna. Akkasumas
dhagaa adii maqaan haaraan irratti barreeffame tokko nan kennaaf; maqaa sanas
namicha isa fudhatu sana malee namni tokko iyyuu hin beeku.

*Gara Waldaa Kiristaana Tiyaaxiroonitti*

18 “Ergamaa Waaqaa kan Waaqaa kan waldaa Kiristaanaa Tiyaatiraatti*akkana
jedhii barreessi:

Ilmi Waaqaa inni iji isaa arraba ibiddaa fakkaatu, kan miilli isaa immoo naasii
baqfamee qulqulleeffame fakkaatu sun akkana jedha.

19 Ani hojii kee, jaalalaa fi amantii kee, tajaajilaa fi obsaan dhaabachuu kee beeka;
akkasumas akka hojiin kee inni ammaa kun isa duraa caalu nan beeka. 20 Haa
ta’uu malee sababii ati dubartittii raajii ofiin jettu Iizaabelin cal’iftee ilaaltuuf
ani waan sirraa jibbu xinnoo qaba. Isheenis barsiisa isheetiin tajaajiltoota koo
gowwoomsitee akka isaan halalummaa hojjetanii fi akka isaan nyaata waaqota
tolfamoof aarsaa dhi’eeffame nyaatan gooti. 21 Ani akka isheen halalummaa ishee
irraa qalbii jijjiirrattuuf yeroo kenneefiin ture; isheen garuu ni didde. 22 Kanaafuu
ani siree dhiphinaa irratti ishee nan gata; warra ishee wajjin ejjanis yoo isaan
karaa ishee irraa qalbii jijjiirrachuu baatan rakkina guddaa keessa isaan nan buusa.
23 Ijoollee ishee immoo dha’ichaan nan ajjeesa. Waldoonni kiristaanaa hundinuus
akka ani kalee fi onnee qoru ni beeku; anis tokkoo tokkoo keessaniif akkuma

‡ **2:12** 2:12 Phergaamoonitti – manneen qulqullummaa kanneen waaqeffannaa Ziyaasiitii fi waaqota biraa warra akka Asqelephoosiitiif kennaman qabdi turte. Asqelephoosis waaqa tolfamaa nama fayyisuu dha. Phergaamoonis handhuura mootonni Roomaa itti waaqeffatan turte. Isheenis magaalaa kutaa biyya Sanaa keessaa iddoo jalqabatti manni qulqullummaa Awugisxoos waaqichaa fi waaqittii Roomaa jedhamtuuf itti kennamee dha. § **2:14** 2:14 Barsiisa Bala’aam – Bala’aam falfaltuu Baabilon kan Baalaaq mootichi akka inni saba Israa’el abaaruuf qaxaree dha. Akka seera Lak 31:16 irratti dubbatametti gorsi Bala’aam akka sabni Israa’el waaqota tolfamoo waaqeffatuu fi akka ejja raawwatuuf karaa irraa jal’ise (Lak 25:1-3). * **2:18** 2:18 Tiyaatiraatti – Tiyaaxiroon wiirtuu industirii turte. Industiroota Tiyaaxiroon gurguddoo keessaas tokko hojiin isaa qalamii dibuu fi uffata suufii hodhuu dha (Hoj 16:14).

hojii keessaniitti gatii keessan isinii nan kenna. 24 Isin warra Tiyaatiraa keessa
jiraattan kanneen barsiisa ishee duukaa hin bu'inii fi warra barsiisa Seexanaa
kan dhoksaa gad fagoo jedhamu sana hin baratiniin akkana nan jedha; 'Ani
ba'aa biraa isinitti hin fe'u; 25 isin garuu hamma ani dhufutti waan qabdan sana
jabeessaa qabadhaa.' 26 Ani nama mo'atuuf, kan hamma dhumaattis fedhii koo
guutuuf saboota irratti taayitaa nan kenna. 27 'Inni bokkuu sibiilaatiin isaan bulcha;
akkuma qodaa supheettis† isaan hurreessa;' kunis akkuma ani itti Abbaa koo biraa
taayitaa argadhe sanaan. 28 Ani immoo bakkalcha barii nan kennaaf. 29 Namni
gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u.

# 3

*Gara Waldaa Kiristaanaa Sardeesitti*
1 "Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Sardeesitti* akkana jedhii barreessi:

Inni Hafuurota Waaqaa torbaa fi urjiiwwan torba qabu sun akkana jedha.

Ani hojii kee beeka; ati maqumaaf jirta malee duuteerta. 2 Dammaqi! Ani fuula
Waaqa kootii duratti hojiin kee guutuu ta'uu isaa hin argineetii waan du'uu ga'e
sana jajjabeessi. 3 Kanaafuu waan fudhattee fi waan dhageesse yaadadhu; waan
dhageesse sanaaf ajajami; qalbiis jijjiirradhu. Yoo ati dammaquu baatte garuu
ani akkuma hattuutti sitti nan dhufa; sa'aatii kamitti akka ani sitti dhufus ati hin
beektu. 4 Ta'u iyyuu ati namoota uffata isaanii hin xureessin muraasa Sardees
keessaa qabda. Isaanis uffata adaadii uffatanii na wajjin ni deemu; isaan kanaaf
warra malanii dha. 5 Namni mo'u akkuma isaanii uffata adaadii ni uffata. Anis
maqaa isaa kitaaba jireenyaa keessaa gonkumaa hin haqu; fuula Abbaa kootii
fi ergamoota isaa durattis maqaa isaa nan beeksisa. 6 Namni gurra qabu waan
Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u.

*Gara Waldaa Kiristaanaa Filaadelfiyaatti*
7 "Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Filaadelfiyaatti† akkana jedhii barreessi:

Inni qulqulluun, inni dhugaan, inni furtuu Daawit harka isaatii qabu, kan waan
inni banu eenyu iyyuu cufuu hin dandeenyee fi waan inni cufus eenyu iyyuu banuu
hin dandeenye sun akkana jedha.

8 Ani hojii kee beeka. Kunoo, ani balbala banamaa namni cufuu hin dandeenye
tokko fuula kee dura kaa'eera. Akka ati humna xinnoo qabdus beeka; ta'us dubbii
koo eegdeerta; maqaa koos hin ganne. 9 Kunoo, ani warra waldaa Seexanaa ta'an
kanneen utuu Yihuudoota hin ta'in Yihuudoota ofiin jedhanii soban keessaa tokko
tokko akka isaan dhufanii miilla kee irratti kufanii sagadanii fi akka isaan akka
ani si jaalladhe beekan nan godha. 10 Ajaja ani akka ati obsaan dhaabattuuf siif
kenne sana waan eegdeef, anis sa'aatii qorumsaa kan warra lafa irra jiraatan
qoruuf addunyaa guutuutti dhufuuf jiru sana irraa si oolcha. 11 Ani dafeen dhufa.
Atis akka namni tokko iyyuu gonfoo kee hin fudhanneef waan qabdu jabeessii

† **2:27** 2:27 Far 2:9 * **3:1** 3:1 Sardeesitti – Sardees magaalaa guddoo mootummaa Liidiyaa kan durii turte. Isheenis magaalaa Soorettii wiirtuu industirii beekamtuu iddoo uffanni suufii fi mi'oonni qalamii dibaman itti hojjetaman turte; ta'us magaalattiin kun sochii lafaa kan bara 17 (bara araaraa) keessa ta'ee fi waraana garaa garaatiin mo'atamtee gad deebiteerti. † **3:7** 3:7 Filaadelfiyaatti – Filaadelfiyaan wiirtuu daldalaa kan hojii gogaatii fi jirbiitiin beekamte, kan lafa qotiisaa badhaadhaa isaatiin marfamtee dha; garuu sochii lafaatiif saaxilamtuu dha.

qabadhu. 12 Nama mo'atus mana qulqullummaa Waaqa koo keessatti utubaa nan
godha. Innis achi keessaa gonkumaa hin ba'u. Anis maqaa Waaqa kootii fi maqaa
magaalaa Waaqa koo, maqaa Yerusaalem ishee haaraa, ishee Waaqa koo biraa
samii irraa gad buutu sanaa isa irratti nan barreessa; maqaa koo haaraas isa irratti
nan barreessa. 13 Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu
haa dhaga'u.

*Gara Waldaa Kiristaanaa Lodooqiyaatti*

14 "Ergamaa Waaqaa kan waldaa kiristaanaa Lodooqiyaatti‡akkana jedhii barreessi:

Ameen, inni amanamaan, dhuga baatuun dhugaatii fi jalqabaan uumama Waaqaa sun akkana jedha.

15 Akka ati qabbanaa'aa yookaan ho'aa hin ta'in ani hojii kee beeka! Ani
utuu ati qabbanaa'aa yookaan ho'aa taatee silaa nan hawwa ture. 16 Kanaafuu
ati waan laphii§taateef, ho'aa yookaan qabbanaa'aa waan hin ta'iinif ani afaan
kootii si tufuu ga'eera. 17 Ati, 'Ani sooressa; qabeenya argadheera; wanni na
barbaachisu tokko iyyuu hin jiru' jetta. Garuu ati deegaa, rakkataa, hiyyeessa,
jaamaa fi qullaa ta'uu kee hin beektu. 18 Kanaafuu ati akka sooromtuuf, warqee
ibiddaan qulqulleeffame akka narraa bitattu, akka qullaa kee qaanessaa sana
haguuggattuufis uffata adii uffattu akka narraa bitattu, akka arguu dandeessuuf
immoo kuulii ijatti naqattu akka narraa bitattu sin gorsa. 19 Ani warran jaalladhu
nan ifadha; nan adabas. Kanaafuu jabaadhu; qalbii jijjiirradhus. 20 Kunoo, ani
balbala dura dhaabadheen balbala rurrukuta. Yoo namni kam iyyuu sagalee koo
dhaga'ee balbala naaf bane, ani ol seenee isa wajjin irbaata nan nyaadha; innis
na wajjin ni nyaata. 21 Akkuma ani mo'adhee Abbaa koo wajjin teessoo isaa irra
taa'e sana, namni mo'atus akka inni na wajjin teessoo koo irra taa'uuf mirga nan
kennaaf. 22 Namni gurra qabu waan Hafuurri waldoota kiristaanaatiin jedhu haa
dhaga'u."

# 4

*Teessoo Samii Keessaa*

1 Anis ergasii nan ilaale; kunoo balballi banamaan tokko fuula koo dura samii
keessa ture. Sagaleen jalqabaa kan ani utuu inni akka malakataatti natti dubbatuu
dhaga'e sun, "As ol kottu; anis waan asiin booddee ta'uu qabu sittin argisiisaa"
jedhe. 2 Anis yommusuma Hafuuraanan ture; kunoo, teessoon namni tokko irra
taa'e tokko samii keessa ture. 3 Inni achi taa'es dhagaa gatii guddaa* yaasphiidiitii fi
sardiyoon† fakkaata ture. Naannoo teessoo sanaas sabbata Waaqaa kan bifti isaa
dhagaa maragdi‡ fakkaatutu ture. 4 Naannoo teessoo sanaas teessoowwan biraa
digdamii afurtu ture. Teessoowwan sana irras maanguddoonni digdamii afur uffata
adaadii uffatanii, mataa isaaniitti immoo gonfoo warqee kaa'atanii tataa'anii turan.

‡ **3:14** 3:14 Lodooqiyaatti – Lodooqiyaan magaalaa sooromtuu fi magaalaa daldalaa kan guddachaa jirtu turte. Isheenis iddoo jireenya hojjettoota mi'a suufii biyya sanaa irraa hojjetamee turte. Mi'i suufii kunis gurraacha cululuqaa ta'uu isaatiin beekamaa ture. Akkasumas magaalattiin wiirtuu hojii baankiitii fi iddoo Asqelephoos waaqichi tolfamaan itti waaqeffatamu turte. § **3:16** 3:16 Laphii – Lodooqiyaa bira burqaawwan ho'aa bishaanonni isaanii fagoo deemanitu ture. Bishaan kunis laphii (bulluqoo) ta'ee ergasii qilee (hallayyaa) fuula Lodooqiyaa duraatti dhangala'a ture. Bishaan sunis dhukkuba namatti fida ture. * **4:3** 4:3 Yaasphiidiitii – Dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee magariisa ta'ee dha. Bifa keelloo (daalacha), magaala yookaan diimaa qabaachuu danda'a. † **4:3** 4:3 Sardiyoon – dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee diimatuu dha. ‡ **4:3** 4:3 maragdi – dhagaa gatii guddaa kan magariisa ta'ee dha.

5 Teessoo sana keessaas ifni balaqqee ni mul’ate; kakawwee fi sagaleen ni dhaga’ame.
Teessoo sana fuuldurattis guci torba boba’aa ture. Isaan kunneenis Hafuurota
Waaqaa torbanii dha. 6 Akkasumas wanni galaana bilillee fakkaatu kan akka of-
ilaalee qulqullaa’e tokko teessoo sana fuuldura ture.

Walakkaa naannoo teessoo sanaas uumamawwan lubbuu qabeeyyii afurtu ture;
isaanis duraa fi duubaan ijaan guutamanii turan. 7 Uumamni lubbuu§ qabeessi
jalqabaa leenca, inni lammaffaan sangaa fakkaata ture; inni sadaffaan fuula akka
fuula namaa qaba ture; afuraffaan immoo risaa* barrisu fakkaata ture. 8 Tokkoon
tokkoon uumamawwan lubbuu qabeeyyii afranii qoochoo ja’a ja’a qabu turan;
duubni isaaniitii fi keessi isaaniis ijaan guutamee ture. Isaanis utuu aara hin galfatin
halkanii guyyaa,

“ ‘Waaqni Gooftaan Waan Hunda Danda’u’†
inni ture, inni jiruu fi inni dhufuuf jiru,
‘Qulqulluu, qulqulluu, qulqulluu dha’ ”

jedhanii faarfachuu hin dhiisan. 9 Uumamawwan lubbuu qabeeyyiin sun isa teessoo
irra taa’ee jiru kan bara baraa hamma bara baraatti jiraatu sanaaf ulfina, kabajaa fi
galata yommuu kennanitti, 10 maanguddoonni digdamii afran sunis fuula isa teessoo
irra taa’ee jiru sanaa duratti kufanii isa bara baraa hamma bara baraatti jiraatu
sanaaf ni sagadan. Gonfoowwan isaaniis fuula teessoo sanaa dura kakaa’anii akkana
jedhu:

11 “Yaa Gooftaa fi Waaqa keenya,
ati waan hunda waan uumteef,
isaan fedhii keetiin waan uumamaniif,
waan jiraataniifis, ulfina, kabajaa fi
humna fudhachuun siif ni mala.”

# 5

### *Kitaaba Maramaa fi Hoolaa Qalame*

1 Anis harka mirga isa teessoo irra taa’e sanaa irratti kitaaba maramaa keessaa fi
duubaan itti barreeffamee chaappaa torbaan cufame tokko nan arge. 2 Anis ergamaa
Waaqaa isa jabaa sagalee guddaadhaan, “Chaappaa hiikuun, kitaaba maramaas
banuun kan maluuf eenyu inni?” jedhee labsu tokko nan arge. 3 Garuu namni
tokko iyyuu samii keessaa yookaan lafa irraa yookaan lafa jalaa kitaaba maramaa
banuu yookaan keessa isaa iyyuu ilaaluu hin dandeenye. 4 Anis waan namni kitaaba
maramaa banuun yookaan keessa isaa ilaaluun maluuf tokko iyyuu dhabameef
baay’isee nan boo’e. 5 Ergasiis maanguddoota sana keessaa inni tokko, “Hin boo’in!
Kunoo, Leenci gosa Yihuudaa, Hiddi Daawit mo’ateera. Inni kitaabicha maramaa
banuu, chaappaa isaa torbanuus hiikuu ni danda’a” naan jedhe.

6 Anis Hoolaa waan qalame fakkaatee teessoo walakkaa uumamawwan lubbuu
qabeeyyii afranii fi maanguddootaan marfamee dhaabatu tokko arge. Hoolichis
gaanfa torbaa fi ija torba* qaba ture; iji torban kunneenis Hafuurota Waaqaa
kanneen gara lafa hundaatti ergaman torbanii dha. 7 Innis dhufee harka mirgaa
isa teessoo irra taa’ee jiru sanaa irraa kitaaba maramaa fudhate. 8 Yommuu
inni kitaaba maramaa sana fudhatettis uumamawwan lubbuu qabeeyyii afranii fi
maanguddoonni digdamii afran fuula Hoolichaa duratti kufan. Tokkoon tokkoon

---

§ **4:7** 4:7 His 1:10 * **4:7** 4:7 risaa – (Leenca, sangaa, nama, risaa) afran isaanii iyyuu tokkummaadhaan guutummaa uumamawwan lubbuu qabeeyyii tokko ta’anii Waaqa galateeffatan sanaa iddoo bu’u. † **4:8** 4:8 Isa 6:3 * **5:6** 5:6 Gaanfa torbaa fi ija torba – kitaaba Qulqulluu keessatti gaafni fakkeenya jabinaatii fi humnaa ti. “Gaanfi torba” Humna akka malee guddaa argisiisa; iji immoo dandeettii Waaqni ittiin waan hunda arguu fi beeku argisiisa.

isaanii baganaa qabu turan; isaanis mi'a ixaanaa kan warqee irraa hojjetamee fi
kan ixaanni keessa guute harkaa qabu turan; ixaanni kunis kadhannaa qulqullootaa
ti. 9 Isaanis akkana jedhanii faarfannaa haaraa faarfatan;
"Kitaaba maramaa fuudhuun,
chaappaa kitaabicha maramaas hiikuun siif mala;
sababiin isaas ati qalamtee, gosa hundumaa keessaa,
afaan hunda keessaa, saba hunda keessaa,
sanyii hunda keessaa, namoota dhiiga keetiin Waaqaaf bitteertaatii.
10 Akka isaan mootummaa fi luboota Waaqa keenyaa ta'anis gooteerta;
isaanis lafa irratti ni mo'u."
11 Anis ilaalee sagalee ergamoota baay'ee dhaga'e; baay'inni isaaniis kumaatamaa
fi kuma kumaatama ture. Isaanis teessoo sanatti, uumamawwan lubbuu qabeeyyii fi
maanguddootatti naanna'anii turan. 12 Isaanis akkana jedhanii sagalee guddaadhaan
faarfatan;
"Hoolaa qalame sanaaf, humnaa fi qabeenya,
ogummaa fi jabina, kabajaa fi ulfina,
galatas argachuun ni mala!"
13 Anis ergasii uumamni samii keessa jiru, kan lafa irra jiru, kan lafa jala jiruu fi
kan galaana keessa jiru hundi, uumamni isaan keessa jiru hundinuus,
"Isa teessoo irra taa'u sanaa fi Hoolichaaf,
galannii fi kabajni, ulfinnii fi humni,
bara baraa hamma bara baraatti haa ta'u!"
jedhanii utuu faarfatanuu nan dhaga'e. 14 Uumamawwan lubbuu qabeeyyiin afran,
"Ameen" jedhan; maanguddoonnis kufanii sagadan.

# 6

*Chaappaawwan Torba*

1 Anis yommuu Hoolichi chaappaawwan torban keessaa isa jalqabaa banu nan
arge. Ergasiis uumamawwan lubbuu qabeeyyii keessaa inni tokko sagalee akka
kakawweetiin, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. 2 Anis nan ilaale; kunoo, fardi
adiin* tokko fuula koo dura ture! Inni farda sana yaabbates iddaa harkatti qabatee
ture; gonfoonis ni kennameef; innis mo'achaa, ammas mo'achuuf ba'e.
3 Yommuu Hoolichi chaappaa lammaffaa banettis uumamni jiraataan inni lammaf-
faan, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. 4 Fardi biraa daamaan† tokkos ni dhufe. Isa
fardicha yaabbatuufis akka inni nagaa lafa irraa balleessuu fi akka namoonni wal
gorra'an akka godhuuf humni kennameef; goraadeen guddaan tokkos ni kennameef.
5 Yommuu Hoolichi chaappaa sadaffaa banettis uumamni jiraataan inni sadaffaan,
"Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e; nan ilaales; kunoo, fardi gurraachi‡ tokko fuula
koo dura ture! Inni fardicha yaabbatus madaalii of harkaa qaba ture. 6 Anis waan
akka sagalee uumamawwan lubbuu qabeeyyii afran gidduu dubbatame fakkaatu
tokko, "Qamadiin safartuu tokkoo mindaa guyyaa tokkootiif, garbuun safartuu sadiis
mindaa guyyaa tokkootiif haa ta'u; garuu zayitii fi daadhii wayinii hin miidhin!"
jechuu isaa nan dhaga'e.
7 Yommuu Hoolichi chaappaa afuraffaa banetti sagalee uumama jiraataa afuraffaa
kan, "Kottu!" jedhu nan dhaga'e. 8 Anis nan ilaale; kunoo, fardi daalachi tokko
fuula koo dura ture! Inni fardicha yaabbatus maqaan isaa Du'a jedhama ture;
Sii'oolis dugda duubaan itti dhi'aatee isa duukaa bu'aa ture. Isaanis goraadeen,

* **6:2** 6:2 Fardi adiin – fakkeenya boojuu fi mo'annaa ti. † **6:4** 6:4 daamaan – bifa ibiddaa kan waraana qofa utuu hin ta'in akka qalamuunis waraana keessa jiru argisiisuu dha. ‡ **6:5** 6:5 Fardi gurraachi – kun fakkeenya beelaa jechuunis du'a beelli fiduu dha.

beelaan, balaa fi bineensota lafaatiin akka ajjeesaniif kurmaana lafaa irratti humni ni kennameef.
9 Yommuu inni chaappaa shanaffaa banetti ani iddoo aarsaa jalatti lubbu-
uwwan warra sababii dubbii Waaqaatii fi sababii dhuga ba'umsa eegan sanaatiif
gorra'amanii nan arge. 10 Isaanis sagalee guddaadhaan, "Yaa Gooftaa Waan Hundaa
Olii, qulqullichaa fi dhugaa, ati warra lafa irra jiraatanitti utuu hin murin hamma
yoomiitti turta? Hamma yoomiittis dhiiga keenyaaf haaloo hin baatu?" jedhanii
iyyan. 11 Tokkoo tokkoo isaaniitiifis uffanni adaadiin ni kenname; hamma lakkoobsi
warra isaan wajjin tajaajilaniitii fi lakkoobsi obboloota isaanii kanneen akkuma
isaaniitti ajjeefamuuf jiran sanaa guutamutti akka yeroo xinnoo obsan isaanitti
himame.
12 Yommuu inni chaappaa ja'affaa banettis nan arge. Sochii lafaa guddaa tokkotu
ture. Aduun akka uffata gaddaa gurraachofte; ji'is akkuma dhiigaa diimate;
13 urjiiwwan samiis akkuma iji muka harbuu yommuu qilleensa jabaan raafamutti
harca'u sana lafatti gad harca'an. 14 Samiin akkuma kitaaba maramaatti marame;
tulluu fi biyyi bishaaniin marfamtes iddoo isaaniitii buqqifaman.
15 Mootonni lafa irraa, bulchitoonnii fi abbootiin duulaa, sooreyyii fi namoonni
jajjaboonni, namoonni kaan hundi, garbas ta'u birmaduun holqa keessaa fi kat-
taawwan tulluuwwanii gidduutti dhokatan. 16 Isaanis tulluuwwanii fi kattaawwan
waammatanii akkana jedhu; "Nurratti kufaa; fuula isa teessoo irra taa'u sanaatii fi
dheekkamsa Hoolichaa duraa nu dhoksaa! 17 Guyyaan dheekkamsa isaa guddaan sun
ga'eeraatii; egaa eenyutu guyyaa sana dura dhaabachuu danda'a ree?"

# 7

*Namoonni 144,000 Chaappeffaman*

1 Ergasiis ani utuu ergamoonni afur golee lafaa afran irra dhaabatanii akka
bubbeen lafatti yookaan galaanatti yookaan muka kamitti iyyuu hin bubbifne bubbee
lafaa afran dhowwanuu nan arge. 2 Ergamaan chaappaa Waaqa jiraataa qabu
kaan immoo utuu karaa ba'a biiftuutiin ol ba'uu nan arge. Innis ergamoota afran
akka isaan lafaa fi galaana miidhaniif humni kennameef sana sagalee guddaadhaan
waamee, 3 "Hamma nu adda tajaajiltoota Waaqa keenyaa irratti chaappaa goonutti
lafa yookaan galaana yookaan muka hin miidhinaa" jedhe. 4 Anis baay'ina warra
chaappeffamanii dhaga'e: gosa Israa'el hunda keessaa 144,000 ture.

5 Gosa Yihuudaa keessaa 12,000,
gosa Ruubeen keessaa 12,000,
gosa Gaad keessaa 12,000,
6 gosa Aasheer keessaa 12,000,
gosa Niftaalem keessaa 12,000,
gosa Minaasee keessaa 12,000,
7 gosa Simi'oon keessaa 12,000,
gosa Lewwii keessaa 12,000,
gosa Yisaakor keessaa 12,000,
8 gosa Zebuuloon keessaa 12,000,
gosa Yoosef keessaa 12,000,
gosa Beniyaam keessaa 12,000 turan.

*Tuuta Namoota Uffata Adaadii Uffatanii*

9 Anis kana booddee nan ilaale; kunoo, tuunni guddaan namni tokko iyyuu
lakkaa'uu hin dandeenye kan saba hundumaa, gosa hundumaa, nama hundumaa fi
afaan hundumaa keessaa walitti qabame tokko teessoo sana duraa fi fuula Hoolichaa

dura dhaabatee ture. Isaanis uffata adaadii uffatanii, damee meexxiis harkatti
qabatanii turan. 10 Isaanis sagalee guddaadhaan,
"Fayyinni kan Waaqa keenya
isa teessoo irra taa'uutii fi
kan Hoolichaati"
jedhanii iyyan. 11 Ergamoonni hundinuu teessichatti, maanguddootaa fi uuma-
mawwan lubbuu qabeeyyii afranitti naanna'anii dhadhaabachaa turan. Isaanis adda
isaaniitiin fuula teessoo sanaa duratti gombifamanii Waaqaaf sagadan; 12 akkanas
jedhan:
"Ameen!
Eebbii fi ulfinni, ogummaan, galanni,
kabajni, humnii fi jabinni,
bara baraa hamma bara baraatti
Waaqa keenyaaf haa ta'u.
Ameen!"
13 Maanguddoota keessaas inni tokko, "Warri uffata adaadii uffatan kunneen eenyu
fa'i? Eessaa dhufan?" jedhee na gaafate.
14 Anis, "Yaa Gooftaa, situ beeka" jedheen deebiseef.
Inni immoo akkana naan jedhe; "Isaan kunneen warra dhiphina guddaa keessaa
ba'anii dhufanii dha; isaanis dhiiga Hoolichaatiin uffata isaanii miicatanii addeeffa-
taniiru. 15 Kanaafuu,
"Isaan teessoo Waaqaa dura jiru;
halkanii guyyaas mana qulqullummaa isaa
keessatti isa tajaajilu;
inni teessicha irra taa'ee jiru sunis
isaan gidduu jiraata.
16 'Isaanis si'achi gonkumaa hin beela'an;
si'achis gonkumaa hin dheebotan.
Aduun isaan hin dha'u;'*
ho'i finiinaanis isaan hin gubu.
17 Hoolichi walakkaa teessoo sanaa jiru
tiksee isaanii ni ta'aatii;
'inni gara burqaa bishaan jireenyaatti isaan geessa.'
'Waaqnis imimmaan hunda ija isaanii irraa ni haqa.' "

# 8

### *Chaappaa Torbaffaa*

1 Yommuu Hoolichi chaappaa torbaffaa banetti gara walakkaa sa'aatii tokkoo samii
keessa tasgabbiitu ture.

### *Girgiraa Warqee*

2 Anis ergamoota fuula Waaqaa dura dhadhaabatan torban arge; isaaniifis
malakanni torba ni kenname.
3 Ergamaan biraa kan girgiraa warqee qabu tokko dhufee iddoo aarsaa bira
dhaabate. Innis iddoo aarsaa warqee kan fuula teessichaa dura jiru sana irratti
akka kadhannaa qulqulloota hundumaa wajjin dhi'eessuuf ixaanni baay'een isaaf ni
kenname. 4 Aarri ixaana sanaas kadhannaa qulqullootaa wajjin harka ergamaa sanaa
keessaa fuula Waaqaa duratti ol ba'e. 5 Ergamaan sunis girgiraa fuudhee iddoo aarsaa
irraa ibidda itti guutee lafatti gad darbate; ergasiis sagaleen kakawwee, balaqqeessaa
fi sochii lafaa ni dhaga'ame.

* **7:16** 7:16 Isa 49:10

*Malakatawwan*

[6] Ergamoonni Waaqaa torban warri malakata torban qabanis malakata afuufuf ni qophaa'an.

[7] Ergamaan jalqabaa malakata isaa afuufe; cabbii fi ibiddi dhiigaan makames lafatti gad darbatame. Lafti harka sadii keessaa harki tokko ni gubatte; muktis harka sadii keessaa harki tokko ni gubate; margi lalisaan hundinuus ni gubate.

[8] Ergamaan lammaffaanis malakata isaa afuufe; wanni tulluu guddaa fakkaatu kan ibiddaan gubachaa jiru tokkos galaanatti gad darbatame. Galaannis harka sadii
keessaa harki tokko dhiiga ta'e; [9] uumamawwan lubbuu qabeeyyiin galaana keessaa
harka sadii keessaa harki tokko ni dhuman; dooniiwwan harka sadii keessaas harki tokko ni barbadaa'an.

[10] Ergamaan sadaffaanis malakata isaa afuufe; urjiin guddaan akka gucaa boba'u tokkos samii irraa lafa dha'e; innis lageen harka sadii keessaa harka tokko irratti,
burqaawwan bishaanii irrattis kufe; [11] maqaan urjii sanaas "Hadheessaa" jedhama.
Bishaan sunis harka sadii keessaa harki tokko ni hadhaa'e; sababii bishaan sun hadheeffameefis namoonni baay'een bishaaniin dhuman.

[12] Ergamaan afuraffaanis malakata isaa afuufe; aduun harka sadii keessaa harki tokko, ji'i harka sadii keessaa harki tokko, urjiinis harka sadii keessaa harki tokko ni rukutaman; kanaanis ifni isaanii harka sadii keessaa harki tokko ni dukkanaa'e. Guyyaan harka sadii keessaa harki tokko akkasumas halkan harka sadii keessaa harki tokko ifa malee hafe.

[13] Anis ilaalee risaa samii walakkaa barrisaa sagalee guddaadhaan, "Sababii sagalee malakataa kan ergamoota biraa sadaniin dhageessifamuuf jiru sanaatiif warra lafa irra jiraataniif Wayyoo! Wayyoo! Wayyoo!" jedhee iyyu tokko nan dhaga'e.

# 9

*Malakata Shanaffaa: Dha'icha Hawwaannisaa*

[1] Ergamaan shanaffaan malakata isaa afuufe; anis urjii samii irraa lafa dha'e tokko
nan arge. Urjii sanaafis furtuun "Boolla Qilee" ni kenname. [2] Yommuu inni Boolla
Qilee sana banettis aarri tokko akkuma aara boolla ibiddaa guddaa keessaa ba'uutti ol ba'e. Aduu fi samiinis aara Boolla Qilee keessaa ba'u sanaan ni dukkanaa'an.
[3] Aara sana keessaas hawwaannisa baay'eetu lafatti yaa'e; hawwaannisoota sanaafis
taayitaan akka taayitaa torbaanqabaa lafaa ni kenname. [4] Isaanis akka marga lafaa
yookaan biqiltuu yookaan muka tokko illee miidhan utuu hin ta'in akka namoota
adda isaanii irraa chaappaa Waaqaa hin qabaatin qofa miidhan ajajaman. [5] Isaanis
akka namoota sana ji'a shan dhiphisaniif eeyyamameef malee akka jara ajjeesaniif miti. Dhiphinni kunis akkuma dhiphina isa yommuu torbaanqabaan nama iddutti
dhiphatanii ti. [6] Guyyoota sana keessa namoonni du'a barbaadu; garuu hin argatan.
Du'uus ni hawwu; duuti garuu isaan baqata.

[7] Bifti hawwaannisoota sanaas fardeen duulaaf qopheeffaman fakkaata ture. Mataa isaaniittis waan akka gonfoo warqee kaa'atanii turan; fuulli isaaniis fuula namaa
fakkaata ture. [8] Rifeensi isaanii rifeensa mataa dubartootaa fakkaata ture; ilkaan
isaaniis ilkaan leencaa fakkaata ture. [9] Isaanis maddaa maddaa sibiilaa fakkaatu
qabu turan; sagaleen qoochoo isaaniis sagalee fardeenii fi gaariiwwan baay'ee
kanneen gara duulaatti didichanii fakkaata ture. [10] Isaanis akkuma torbaanqabaa
eegee fi ilkee qabu turan; eegee isaanii keessaa immoo taayitaa ittiin ji'a shan nama
dhiphisan qabu turan. [11] Isaanis mootii qabu turan; innis ergamaa Boolla Qilee
ti; maqaan isaas afaan Ibraayisxiitiin Abadoon, afaan Giriikiin immoo Aphooliyoon jedhama ture.

[12] Wayyoon inni duraa darbeera; kunoo, wayyoowwan biraa lamatu dhufuuf jira.

[13] Ergamaan ja'affaanis malakata isaa afuufe; anis gaanfa afran kanneen iddoo
aarsaa warqee irraa hojjetamee fuula Waaqaa dura jiru irraa sagalee tokko nan
dhaga'e. [14] Sagaleen sunis ergamaa ja'affaa malakata qabu sanaan, "Ergamoota
afran kanneen laga Efraaxiisi guddicha biratti hidhaman sana gad dhiisi" jedhe.
[15] Ergamoonni afran sa'aatii kanaaf, guyyaa kanaaf, ji'aa fi waggaa kanaaf qophe-
effamanii turanis sanyii namaa harka sadii keessaa harka tokko fixuuf gad dhiifaman.
[16] Baay'inni loltoota fardeeniin duulanii miliyoona dhibba lama ture. Anis baay'ina
isaaniis nan dhaga'e.

[17] Anis mul'ata koo keessatti fardeenii fi namoota farda yaabbatan nan arge:
Isaanis maddaa diimaa akka ibiddaa, sanpeerii* fi keelloo akka dinyii† qabu turan.
Mataan fardeen sanaas mataa leencaa fakkaata ture; afaan isaanii keessaas ibidda,
aaraa fi dinyiitu ba'e. [18] Dha'icha sadan kanaan jechuunis ibidda, aaraa fi dinyii
afaan isaaniitii ba'een sanyiin namaa harka sadii keessaa harki tokko ni ajjeefame.
[19] Taayitaan fardeen sanaas afaan isaaniitii fi eegee isaanii keessa ture; eegeen isaanii
akkuma bofaa mataa qaba tureetii; isaanis mataa sanaan nama miidhu turan.

[20] Namoonni dha'icha sanaan ajjeefamuu jalaa ba'anis amma iyyuu qalbii jijji-
irratanii hojii harka isaanii irraa hin deebine; hafuurota hamoo waaqeffachuu fi
waaqota tolfamoo warqee irraa, meetii irraa, naasii irraa, dhagaa fi muka irraa
hojjetaman kanneen arguu yookaan dhaga'uu yookaan deemuu hin dandeenye
waaqeffachuu hin dhiifne. [21] Akkasumas gaabbanii nama ajjeesuu isaanii irraa
yookaan falfala hojjechuu isaanii irraa yookaan halalummaa isaanii irraa yookaan
hanna isaanii irraa hin deebine.

# 10

*Ergamichaa fi Kitaaba Maramaa Xinnaa*

[1] Anis utuu ergamaan Waaqaa inni jabaan biraa tokko samii irraa gad bu'uu nan
arge. Innis duumessa uffatee ture; mataa isaa irraan immoo sabbata Waaqaatu
ture; fuulli isaa akka aduu, miilli isaas akka utubaa ibiddaa ture. [2] Innis kitaaba
maramaa xinnaa baname tokko harkatti qabatee ture. Miilla isaa mirgaa galaana
irra, miilla isaa bitaa immoo lafa irra dhaabee ture; [3] innis akkuma leenca aaduutti
sagalee guddaadhaan iyye. Yommuu inni iyyettis bakakkaawwan torban ni dubbatan.
[4] Yommuu bakakkaawwan torban dubbatanittis ani barreessuuf qophaa'een ture;
garuu sagalee, "Waan bakakkaawwan torban jedhan sana chaappaan cufi malee hin
barreessin" jedhu tokko samii irraa nan dhaga'e.

[5] Ergamaan ani utuu inni galaanaa fi lafa irra dhaabatuu argee ture sunis harka
isaa mirgaa samiitti ol qabe. [6] Innis isa bara baraa hamma bara baraatti jiraatu,
isa samiiwwanii fi waan isaan keessa jiru hundumaa, lafaa fi waan isa keessa jiru
hundumaa, galaanaa fi waan isa keessa jiru hundumaa uume sanaan kakatee akkana
jedhe; "Ammaan achi lafa irra harkisuun hin jiru! [7] Garuu guyyoota ergamaan
torbaffaan malakata isaa afuufutti icciitiin Waaqaa akkuma inni raajota warra
hojjettoota isaa ta'anitti labse sanatti ni raawwatama."

[8] Sagaleen ani samii irraa dhaga'ee ture sun ammas deebi'ee, "Dhaqiitii kitaaba
maramaa banamee ergamaa galaanaa fi lafa irra dhaabatu harka jiru sana fudhadhu"
naan jedhe.

[9] Kanaafuu ani gara ergamichaa dhaqee akka inni kitaaba maramaa xinnaa sana
naa kennuuf isa gaafadhe. Innis, "Fudhadhuutii nyaadhu; kitaabni kun garaa kee ni
hadheessa; 'afaan kee keessatti garuu akka dammaa mi'aawa'*" naan jedhe. [10] Anis

* **9:17** 9:17 Sanpeerii – Sanpeeriin dhagaa gatii guddaa gurraacha akka cuquliisaa ti. † **9:17** 9:17 dinyii – dinyiin kemikaala keelloo fakkaatu kan ho'a guddaadhaan gubamuu fi kan foolii namatti hin tolle qabuu dha.
* **10:9** 10:9 His 3:3

kitaaba maramaa xinnaa sana ergamicha harkaa fudhadhee nan nyaadhe. Innis
afaan koo keessatti akkuma dammaa mi'aawe; erga ani nyaadhe garuu garaan koo
ni hadheeffame. 11 Ergasii immoo, "Ati waa'ee saba baay'ee, sanyii baay'ee, afaan
baay'eetii fi waa'ee mootota baay'ee ammas raajii dubbachuu qabda" jedhamee natti
himame.

# 11

*Dhuga Baatota Lamaan*

1 Shambaqqoon ulee safartuu fakkaatu tokko naa kennamee akkana jedhamee natti
himame; "Dhaqiitii mana qulqullummaa Waaqaatii fi iddoo aarsaa safari; warra
achitti waaqeffatanis lakkaa'i. 2 Oobdii mana qulqullummaatii ala ta'e garuu hin
safarin; oobdiin sun waan Namoota Ormaatiif kennameef isa itti hin dabalin. Isaanis
magaalaa qulqulluu sana ji'a 42 lafatti dhidhiitu. 3 Anis dhuga baatota koo lamaaniif
humna nan kenna; isaanis uffata gaddaa[*] uffatanii guyyaa 1,260 raajii ni dubbatu."
4 Isaan kunneenis mukkeen ejersaa lamaanii fi baattuuwwan ibsaa lamaan fuula
Gooftaa lafaa dura dhaabatanii dha. 5 Namni kam iyyuu isaan miidhuu yaallaan
ibiddi afaan isaaniitii ba'ee diinota isaanii ni balleessa. Kunis haala namni isaan
miidhuu barbaadu kam iyyuu ittiin ajjeefamuu qabuu dha. 6 Isaan yeroo raajii
dubbatanitti akka bokkaan hin roobneef humna ittiin samii cufan qabu; akkasumas
bishaanota dhiigatti geeddaruudhaa fi yeroo barbaadanitti dha'icha gosa hundaatiin
lafa rukutuuf taayitaa qabu.

7 Yommuu isaan dhuga ba'umsa isaanii xumuranittis bineensi Boolla Qilee keessaa
ol ba'u sun lola isaanitti kaasa; isaan mo'ata; isaan ajjeesas. 8 Reeffi isaaniis daandii
magaalaa guddoo irra ni ciciisa; magaalattiin kunis ishee hiikkaa hafuuraatiin
Sodoomii fi Gibxi jedhamtu kan Gooftaan isaaniis itti fannifamee turee dha.
9 Namoonni saba hunda keessaa, gosa hunda keessaa, afaanii fi sanyii hunda keessaa
dhufanis guyyaa sadii fi walakkaa reeffa isaanii ilaalu; akka hin awwaalamnes ni
dhowwu. 10 Raajonni lamaan kunneen waan warra lafa irra jiraatan dhiphisaa
turaniif warri lafa irra jiraatan isaanitti gammadu; ni ililchus; kennaas walii ergu.

11 Guyyaa sadii fi walakkaa booddee garuu hafuurri jireenyaa Waaqa biraa dhufee
isaan seene; isaanis ka'anii miilla isaaniitiin dhaabatan; warri isaan arganis akka
malee sodaatan. 12 Isaanis sagalee guddaa, "As ol kottaa!" isaaniin jedhu tokko samii
irraa dhaga'an. Utuma diinonni isaanii ilaalanuus duumessaan gara samiitti ol ba'an.

13 Yeroo sanattis sochii lafaa guddaa isaatu ture; magaalaan sunis kudhan keessaa
tokko ni barbadaa'e. Namoonni kumni torbas sochii lafaa sanaan dhuman; warri
hafan immoo sodaatanii Waaqa samiitiif ulfina kennan.

14 Wayyoon lammaffaan darbeera; kunoo, wayyoon sadaffaan dafee ni dhufa.

*Malakata Torbaffaa*

15 Ergamaan torbaffaanis malakata isaa afuufe; sagaleen guddaan,
"Mootummaan addunyaa amma mootummaa Gooftaa keenyaatii fi
    mootummaa Kiristoos[†] ta'eera;
    innis bara baraa hamma bara baraatti ni mo'a"
jedhu samii keessa ture. 16 Maanguddoonni digdamii afran fuula Waaqaa dura
teessoo isaanii irra tataa'anii turan sunis adda isaaniitiin gombifamanii Waaqaaf ni
sagadan; 17 akkanas jedhan:
"Yaa Waaqayyoo Gooftaa Waan Hunda Dandeessu,
    Kan jirtuu fi kan turte,
ati humna kee isa guddaa fudhattee

---

[*] **11:3** 11:3 Uffanni gaddaa uffata raajonni yeroo hunda uffatanii dha (Isa 20:2; Zak 13:4 ilaalaa). [†] **11:15** 11:15 yookaan Masiihii

waan mo’uu jalqabdeef galata siif dhi’eessina.
18 Saboonni ni aaran;
dheekkamsi kees dhufeera.
Yeroon warri du’an itti murtii argatan ga’eera;
yeroon ati itti raajota tajaajiltoota kee ta’aniif,
qulqulloota keetii fi warra maqaa kee sodaatan
xinnaafis ta’u guddaaf badhaasa kennitu ga’eera;
yeroon ati itti warra lafa balleessan balleessitus ga’eera.”
19 Manni qulqullummaa Waaqaa kan samii keessaas ni baname; taabonni kakuu
isaas mana qulqullummaa isaa keessatti mul’ate. Ergasiis ifa balaqqee, sagalee,
bakakkaa, sochii lafaatii fi bokkaa cabbii guddaa isaatu ture.

# 12

*Dubartittii fi Bineensa Jawwee Fakkaatu*

1 Mallattoon guddaan tokko samii keessatti mul’ate: dubartii biiftuu uffattee miilla
ishee jalaa ji’a qabdu kan mataa ishee irraa gonfoo urjiiwwan kudha lamaa qabdu
tokkotu ture. 2 Isheenis ulfa turte; yommuu da’umsi ishee ga’ettis ciniinsuudhaan
qabamtee iyyite. 3 Mallattoon biraas samii keessatti mul’ate; kunoo, bineensa jawwee
fakkaatu diimaa guddaa, mataa torbaa fi gaanfa kudhan qabu, kan mataa isaa
irraa gonfoo torba qabu tokkotu ture. 4 Eegeen isaas urjiiwwan samii irra jiran
harka sadii keessaa harka tokko haxaa’ee lafatti gad darbate. Bineensi jawwee
fakkaatu sunis yeroo dubartittiin deessutti mucaa ishee liqimsuuf jedhee fuula
dubartii da’uuf jirtu sanaa dura dhaabate. 5 Isheen ilma bokkuu sibiilaatiin saba
hundumaa bulchuuf jiru tokko deesse; daa’imni ishees gara Waaqaatti, gara teessoo
isaattis ol butame. 6 Dubartittiinis gara lafa gammoojjii iddoo akka isheen guyyaa
1,260 achitti gabbifamtuuf jedhee Waaqni isheef qopheesseetti baqatte.

7 Lollis samii keessatti ka’e. Miikaa’elii* fi ergamoonni isaa bineensa jawwee
fakkaatu sana lolan; bineensi jawwee fakkaatu sunii fi ergamoonni isaas of irraa
lolan. 8 Isaan garuu mo’achuu hin dandeenye; ergasiis iddoo isaanii kan samii
keessaa sana ni dhaban. 9 Bineensi guddaan jawwee fakkaatu sunis gad darbatame;
innis bofa durii isa diiyaabiloos yookaan Seexana jedhamu, isa addunyaa guutuu
karaa irraa jal’isu sanaa dha. Inni lafatti gad darbatame; ergamoonni isaas isa wajjin
darbataman.
10 Anis sagalee guddaa tokko samii keessaa nan dhaga’e; innis akkana jedha:
“Amma fayyinni, humnii fi
mootummaan Waaqa keenyaa,
taayitaan Kiristoos† isaas dhufeera.
Himataan obboloota keenyaa
inni halkanii guyyaa fuula Waaqaa duratti,
isaan himatu sun gad darbatameeraatii.
11 Isaanis dhiiga Hoolichaatiin,
dubbii dhuga ba’umsa isaaniitiinis, isa mo’atan;
isaan hamma du’aatti illee taanaan
lubbuu isaanii hin mararfanne.
12 Kanaafuu yaa samiiwwan,
isin warri isaan keessa jiraattanis gammadaa!
Garuu yaa lafaa fi yaa galaana isiniif wayyoo!
Diiyaabiloos gara keessanitti gad bu’eeraatii!

---

* **12:7** 12:7 Miikaa’elii – hangafoota ergamootaa keessaa isa tokko; innis Dan 10:21 irratti eegduu saba Israa’el kan addaa jedhamee ibsame. Ergamoonni Miikaa’eliis warra ajaja isa jala jiranii dha. † **12:10** 12:10 yookaan Masiihii

Innis akka yeroo gabaabaa qabu
waan beekuuf baay'ee aareera."
13 Bineensi jawwee fakkaatu sunis yommuu akka lafatti gad darbatame argetti,
dubartittii daa'ima dhiiraa deesse sana ari'achuu jalqabe. 14 Dubartittiin garuu
akka gara gammoojjii iddoo isheef qopheeffametti boficha jalaa barriftuuf, achittis
baraaf, barootaa fi walakkaa baraatiif akka gabbifamtuuf baalleen risaa guddaan
lama isheedhaaf ni kenname. 15 Bofichis akka dubartittiin lolaadhaan fudhatamtuuf
jedhee dugda ishee duubaan bishaan akka lagaa afaan isaa keessaa dhangalaase.
16 Lafti garuu afaan bantee laga bineensi jawwee fakkaatu sun afaan isaa keessaa
dhangalaase sana liqimsuudhaan dubartittii gargaarte. 17 Bineensi jawwee fakkaatu
sun dubartittiitti aaree sanyii ishee warra hafanitti lola kaasuu dhaqe; isaanis warra
ajaja Waaqaa eeganii fi warra dhuga ba'umsa Yesuus jabeessanii qabatanii dha.

# 13

1 Bineensi jawwee fakkaatu sunis cirracha galaanaa irra dhaabate.

### *Bineensa Galaana Keessaa Ba'e*

Bineensa tokkos utuu inni galaana keessaa ba'uu nan arge. Innis gaanfa kudhanii
fi mataa torba qaba ture; gaanfawwan isaa irratti gonfoo kudhan, tokkoo tokkoo
mataa isaa irratti immoo maqaa arrabsoo qaba ture. 2 Bineensi ani arge sunis
qeerransa fakkaata ture. Miilli isaa miilla amaaketaa, afaan isaa immoo afaan
leencaa fakkaata ture. Bineensi jawwee fakkaatu sunis humna isaa, teessoo isaatii
fi taayitaa guddaas bineensichaaf kenne. 3 Mataa bineensichaa torban keessaa inni
tokko waan madaa du'a fidu qabu fakkaata ture; madaan du'a fidu sun garuu fayyee
ture. Addunyaan guutuunis dinqisiifatee bineensicha duukaa bu'e. 4 Namoonni
sababii inni taayitaa isaa bineensa sanaaf kenneef bineensa jawwee fakkaatu sanaaf
ni sagadan; akkasumas, "Kan akka bineensichaa eenyuu? Eenyutus lola isatti kaasuu
danda'a?" jedhanii bineensichaaf sagadan.
5 Akka bineensichi dubbii of tuulummaatii fi arrabsoo dubbatuuf afaan ni
kennameef; ji'a afurtamii lamaaf akka ittiin hojjetuufis taayitaan isaaf kenname.
6 Innis Waaqa arrabsuuf, Waaqaa fi iddoo jireenya isaa, akkasumas warra samii
keessa jiraatan maqaa balleessuuf jedhee afaan banate. 7 Akka inni qulqullootatti
waraana kaasee isaan mo'atuufis humni ni kennameef. Gosa hunda, saba hunda,
afaanii fi sanyii hunda irrattis taayitaan ni kennameef. 8 Warri lafa irra jiraatan
hundinuu jechuunis warri maqaan isaanii erga addunyaan uumamee jalqabee
kitaaba jireenyaa kan Hoolicha qalame sanaa keessatti hin galmeeffamin hundinuu
bineensichaaf ni sagadu.
9 Namni gurra qabu kam iyyuu haa dhaga'u.
10 "Namni booji'amuuf jiru kam iyyuu
inni ni booji'ama.
Namni goraadeedhaan ajjeefamuuf jiru kam iyyuu
goraadeedhaan ni ajjeefama."
Kunis obsaa fi amanamummaa qulqullootaa argisiisa.

### *Bineensa Lafa Keessaa Ba'e*

11 Bineensa biraas utuu inni lafa keessaa ba'uu nan arge. Innis akka hoolaa gaanfa
lama qaba ture; akka bineensa jawwee fakkaatuuttis dubbata ture. 12 Innis taayitaa
bineensicha jalqabaa hundaan fuula isaa duratti hojjechaa ture; akka laftii fi warri
lafa irra jiraatan bineensicha jalqabaa isa madaan du'a fidu fayyeef sanaaf sagadanis
godhe. 13 Innis hamma akka ibiddi samii irraa lafatti gad bu'u godhutti ija namaa
duratti dinqii gurguddaa hojjete. 14 Mallattoo akka inni iddoo bineensichi jalqabaa
jirutti hojjetuuf eeyyamameef sanaanis namoota lafa irra jiraatan ni gowwoomse.

Akka isaan ulfina bineensicha goraadeedhaan madaa’ee ergasii immoo jiraate
sanaatiif fakkii dhaaban ajaje. 15 Fakkiin bineensa jalqabaa sunis akka dubbachuu
danda’uu fi warra fakkii sanaaf sagaduu didan hundas akka ajjeesisuuf bineensi inni
lammaffaan akka fakkii sanaaf lubbuu kennuuf humni kennameef. 16 Akkasumas
namni hundinuu xinnaa fi guddaan, sooressii fi hiyyeessi, birmaduu fi garbi harka
mirgaa irratti yookaan adda irratti akka mallattoo qabaatu dirqisiise; 17 kunis akka
namni mallattoo kana jechuunis maqaa bineensichaa yookaan lakkoobsa maqaa isaa
hin qabaatin kam iyyuu bitachuu yookaan gurgurachuu hin dandeenyeef.

18 Ogummaan as jira. Lakkoobsichi waan lakkoobsa namaa ta’eef namni hubannaa
qabu kam iyyuu lakkoobsa bineensichaa haa herregu. Lakkoobsi isaas 666.

# 14

*Hoolichaa fi Namoota 144,000*

1 Anis nan ilaale; kunoo, Hoolichi Tulluu Xiyoon irra dhaabachaa ture; namoonni
144,000, kanneen maqaan isaatii fi maqaan Abbaa isaa adda isaanii irratti bar-
reeffames isa wajjin turan. 2 Anis sagalee akka sagalee bishaan baay’eetii fi
akka sagalee kakawwee guddaa samii irraa nan dhaga’e. Sagaleen ani dhaga’e
sunis akka sagalee baganaa kan namoonni baganaa taphatan dhageessisanii ture.
3 Isaanis fuula teessichaa duratti, fuula uumamawwan lubbuu qabeeyyii afraniitii fi
fuula maanguddootaa duratti faarfannaa haaraa tokko faarfatan. Faarfannaa sanas
namoota 144,000 warra lafa irraa furaman sana malee namni tokko iyyuu barachuu
hin dandeenye. 4 Isaan kunneen waan qulqullinaan of eegganiif warra dubartootaan
of hin xureessinii dha. Isaanis iddoo Hoolichi dhaqu hundumatti isa duukaa bu’u.
Sanyii namaa keessaas hangafa ta’anii Waaqaa fi Hoolichaaf ni furaman. 5 Sobni
tokko iyyuu afaan isaanii keessatti hin argamne; isaan mudaa hin qaban.

*Ergamoota Sadan*

6 Anis ergamaa biraa kan warra lafa irra jiraatanitti jechuunis saba hundatti, gosa
hundatti, afaanii fi sanyii hundatti lallabuuf jedhee wangeela bara baraa qabatee
samii walakkaa barrisu tokko nan arge. 7 Innis sagalee guddaadhaan akkana jedhe;
“Sa’aatiin murtii isaa waan dhi’aateef Waaqa sodaadhaa; ulfinas isaaf kennaa. Isa
samii fi lafa, galaanaa fi burqaawwan bishaanii uume sanaaf sagadaa.”

8 Ergamaan lammaffaanis itti aansee, “ ‘Kufteerti! Baabilon guddittiin’ isheen akka
sabni hundi daadhii wayinii dheekkamsa sagaagala ishee dhugu goote sun kufteerti”
jedhe.

9 Ergamaan Waaqaa inni sadaffaanis isaanitti aansee sagalee guddaadhaan akkana
jedhe; “Namni kam iyyuu bineensichaa fi fakkii isaatiif yoo sagade, mallattoo isaas
adda isaa irratti yookaan harka isaa irratti yoo fudhate, 10 innis akkasuma daadhii
wayinii dheekkamsa Waaqaa isa utuu homtuu itti hin makamin xoofoo aarii isaatti
buufame irraa ni dhuga. Fuula ergamoota qulqullootaatii fi fuula Hoolichaa durattis
ibiddaa fi dinyiidhaan ni dhiphata. 11 Aarri dhiphina isaaniis bara baraa hamma bara
baraatti ol ba’a. Warri bineensichaa fi fakkii isaatiif sagadan yookaan warri mallattoo
maqaa isaa fudhatan hundi halkanii guyyaa boqonnaa hin qabaatan.” 12 Kun obsa
qulqulloota ajaja Waaqaa eeganiitii fi Yesuusiif amanamanii jiraatanii gaafata.

13 Anis sagalee, “Waan kana barreessi: Si’achi warri utuu Gooftaadhaan jiranuu
du’an eebbifamoo dha” jedhu tokko samii irraa nan dhaga’e.

Hafuurri Qulqulluunis, “Eeyyee; hojiin isaaniis waan isaan duukaa bu’uuf isaan
dadhabbii isaanii irraa ni boqotu” jedha.

*Haamamuu Lafaatii fi Iddoon Cuunfaa Wayinii Dhidhiitamuu Isaa*

[14] Anis nan ilaale; kunoo, duumessa adii tokkotu ture; inni “ilma namaa fakkaatu”*
tokkos gonfoo warqee mataa isaatti kaa’atee, haamtuu qaramaa harkatti qabatee
duumessa irra taa’ee ture. [15] Ergamaan Waaqaa kan biraas mana qulqullummaatii
ba’ee sagalee guddaadhaan isa duumessa irra taa’e sanaan, “Midhaan lafaa waan
bilchaateef, yeroon haamaas waan ga’eef haamtuu kee fudhadhuutii haami” jedhee
iyye. [16] Kanaafis inni duumessa irra taa’e sun haamtuu isaa lafatti dhaabe; laftis ni
haamamte.
[17] Ergamaan Waaqaa kan biraas mana qulqullummaa isa samii keessaatii ba’e;
innis akkasuma haamtuu qaramaa qaba ture. [18] Ammas ergamaan Waaqaa kan
biraa inni ibidda irratti taayitaa qabu tokko iddoo aarsaa biraa dhufee, sagalee
guddaadhaan ergamaa haamtuu qaramaa qabu sanaan, “Hurbuun wayinii waan
bilchaateef haamtuu kee qaramaa sana fudhadhuutii hurbuu wayinii lafaa walitti
qabi” jedhe. [19] Ergamichis haamtuu isaa lafatti dhaabe; hurbuu wayinii lafaas
walitti qabee gara iddoo cuunfaa wayinii dheekkamsa Waaqaa isa guddaatti darbate.
[20] Isaanis iddoo cuunfaa wayinii kan magaalaan ala jiru keessatti dhidhiitaman; iddoo
cuunfaa sana keessaas dhiigni hamma luugama fardaatti ol ka’ee fageenya gara kiiloo
meetira 300 lola’e.

# 15

### *Ergamoota Torba Kanneen Dha’ichawwan Torba Harkaa Qaban*

[1] Anis mallattoo guddaa fi dinqisiisaa biraa samii keessattin arge; mallattoon kunis
ergamoota torban kanneen dha’icha dhumaa torba qaban ture; dha’ichi torban
kunneenis sababii dheekkamsi Waaqaa isaaniin raawwatamuuf dha’icha dhumaa
jedhaman. [2] Anis waan galaana bilillee ibiddaan makamee fakkaatu tokko nan
arge; warri bineensichaa fi fakkii isaa, lakkoobsa maqaa isaas mo’atan baganaa
Waaqni isaaniif kenne harkatti qabatanii galaanicha bira dhadhaabachaa turan.
[3] Isaanis faarfannaa Musee garbicha Waaqaatii fi faarfannaa Hoolichaa akkana
jedhanii faarfatan:

“Yaa Waaqa Gooftaa Waan Hundumaa Dandeessu,
hojiin kee guddaa fi dinqisiisaa dha.
Yaa Mootii sabootaa,
karaan kee qajeelaa fi dhugaa dha.
[4] Yaa Gooftaa, namni si hin sodaanne,
kan maqaa kees hin ulfeessine eenyu?
Si qofatu qulqulluudhaatii.
Hojiin qajeelummaa keetii waan mul’ifameef,
saboonni hundinuu ni dhufu;
fuula kee durattis ni sagadu.”

[5] Ergasiis nan ilaale; manni qulqullummaa inni samii jechuunis dunkaanni dhuga
ba’uu ni baname. [6] Mana qulqullummaa sana keessaas ergamoonni torban dha’icha
torba qaban ni ba’an. Isaanis uffata qulqulluu fi calaqqisaa quncee talbaa irraa
hojjetame uffatanii naannoo qoma isaaniittis sabbata warqee hidhatanii turan.
[7] Uumamawwan lubbuu qabeeyyii afran keessaas inni tokko waciitiiwwan warqee
torba kanneen dheekkamsa Waaqa isa bara baraa hamma bara baraatti jiraatuutiin
guutaman ergamoota torbaniif kenne. [8] Manni qulqullummaa sunis aara ulfinaa fi
humna Waaqaa keessaa ba’uun guutame; hamma dha’ichi torban ergamoota torbanii
raawwatamuttis eenyu iyyuu mana qulqullummaa sana seenuu hin dandeenye.

* **14:14** 14:14 Dan 7:13

# 16

*Waciitiiwwan Dheekkamsa Waaqaa Torban*

1 Anis sagalee guddaa, ergamoota torbaniin, “Dhaqaatii, waciitiiwwan dheekkamsa
Waaqaa torban keessaa lafa irratti dhangalaasaa” jedhu tokko mana qulqullummaa
keessaa nan dhaga’e.

2 Ergamaan Waaqaa inni jalqabaa dhaqee waciitii isaa keessaa lafa irratti
dhangalaase; namoota mallattoo bineensichaa of irraa qabanii fi fakkii isaatiif
sagadanittis madaan hamaanii fi dhukkubsaan ni yaa’e.

3 Ergamaan lammaffaan waciitii isaa keessaa galaanatti dhangalaase; galaanichis
dhiiga akka dhiiga nama du’ee ta’e; lubbuu qabeeyyiin galaana sana keessaa
hundinuus ni du’an.

4 Ergamaan sadaffaan waciitii isaa keessaa lageenii fi burqaawwan bishaanii irratti
dhangalaase; isaanis dhiiga ta’an. 5 Ergamaan bishaanota irratti itti gaafatamummaa
qabus utuu akkana jedhuu nan dhaga’e:

“Yaa Isa Qulqulluu, kan jirtu, kan turte,
sababii wantoota kanneen murteessiteef, ati qajeelaa dha;
6 Waan isaan dhiiga qulqullootaatii fi dhiiga raajotaa dhangalaasaniif,
ati immoo akka isaan dhuganiif dhiiga isaaniif kenniteerta;
kun isaaniif ni malaatii.”

7 Anis utuu iddoon aarsaa,
“Eeyyee yaa Waaqayyo Gooftaa Waan Hunda Dandeessu,
murtiin kee dhugaa fi qajeelaa dha”
jedhuu nan dhaga’e.

8 Ergamaan afuraffaanis waciitii isaa keessaa aduu irratti dhangalaase; aduudhaafis
akka isheen ibiddaan nama gubduuf humni ni kenname. 9 Namoonnis ho’a guddaa
sanaan ni gubatan; maqaa Waaqa dha’icha kanneen irratti humna qabu sanaas ni
abaaran; qalbii jijjiirrachuu fi ulfina isaaf kennuus ni didan.

10 Ergamaan shanaffaanis waciitii isaa keessaa teessoo bineensichaa irratti
dhangalaase; mootummaan bineensichaas dukkanaan liqimfame. Namoonnis
dhiphachuudhaan arraba isaanii cicciniinan; 11 sababii dhukkubbii fi madaa isaani-
itiifis Waaqa samii ni abaaran; garuu hojii isaanii irraa qalbii hin jijjiirranne.

12 Ergamaan ja’affaanis waciitii isaa keessaa Efraaxiis lagicha guddaa irratti
dhangalaase; bishaan laga sanaas mootota Ba’a Biiftuutii dhufaniif akka karaan
qopheeffamuuf ni goge. 13 Ergasii afaan bineensa jawwee fakkaatu sanaa keessaa,
afaan bineensichaa keessaa fi afaan raajii sobaa keessaa hafuuronni xuraa’oon fattee
fakkaatan sadii utuu ba’anuu nan arge. 14 Isaanis hafuurota hafuura hamaa kanneen
hojiiwwan dinqii hojjetanii dha; isaanis lola guyyaa guddichaa kan Waaqa Waan
Hunda Danda’u sanaatiif walitti isaan qabuuf gara moototа addunyaa hundaatti kan
ba’anii dha.

15 “Kunoo, ani akka hattuutti nan dhufa! Namni akka qullaa hin deemneef, akka
qaaniin isaas hin mul’anneef dammaqee uffata isaa eeggatu eebbifamaa dha.”

16 Isaanis iddoo afaan Ibraayisxiitiin Armaageedon jedhamutti mootota sana walitti
qaban.

17 Ergamaan torbaffaanis waciitii isaa keessaa qilleensa keessatti dhangalaase;
sagaleen guddaan, “Raawwatameera!” jedhu tokkos mana qulqullummaatii teessoo
keessaa ba’e. 18 Ergasiis balaqqeen, sagaleen, kakawweetii fi sochiin lafaa hamaan
tokko ni ta’e. Sochiin lafaa kan akkanaas erga namni lafa irra jiraachuu jalqabee
kaasee takkumaa ta’ee hin beeku; sochiin lafaa sunis akka malee guddaa ture.

19 Magaalattiin guddoon iddoo sadiitti gargar qoodamte; magaalaawwan sabootaas ni
kufan. Waaqnis Baabilon Guddittii ni yaadate; xoofoo daadhii wayinii dheekkamsa
isaa sodaachisaadhaan guutames ni kenneef. 20 Biyyoonni bishaaniin marfaman
hundinuu ni baqatan; tulluuwwanis argamuu hin dandeenye. 21 Dhagaan cabbii
gurguddaan tokkoon tokkoon isaa gara kiiloo giraamii afurtamii shanii ulfaatu samii
irraa namoota irra bubbu’e. Dha’ichi sunis waan akka malee hamaa tureef namoonni
sababii dha’icha cabbii sanaatiif Waaqa ni abaaran.

# 17

*Dubartittii Bineensicha Yaabbattu*

1 Ergamoota torban waciitiiwwan torba qaban keessaa inni tokko gara koo dhufee
akkana naan jedhe; “Kottu! Adaba sagaagaltittii guddittii ishee bishaanota baay’ee
irra teessu sana irratti raawwatamuuf jiru sittin argisiisaa. 2 Mootonni lafaa ishee
wajjin sagaagalaniiru; warri lafa irra jiraatanis daadhii wayinii sagaagala isheetiin
machaa’aniiru.”

3 Ergamaan Waaqaa sunis Hafuura Qulqulluudhaan na fuudhee gammoojjiitti na
geesse. Achittis dubartii bineensa bildiimaa maqaa arrabsootiin guutame tokko
irra teessu nan arge; bineensichis mataa torbaa fi gaanfa kudhan qaba ture.
4 Dubartittiinis uffata dhiilgee fi bildiimaa uffattee warqeen, dhagaa gatii guddaatii
fi lulaan miidhagfamtee turte. Harka isheettis xoofoo warqee kan waan jibbisiisaa
fi xuraa’ummaa sagaagala isheetiin guutame qabattee turte. 5 Adda ishee irrattis
maqaan icciitii kan akkana jedhu tokko barreeffamee ture:

Baabilon Guddittii,
Haadha Sagaagaltootaa fi,
Haadha waan Jibbisiisaa Lafaa.

6 Akka dubartittiin dhiiga qulqullootaatii fi dhiiga warra Yesuusiif dhugaa ba’aniitiin
machoofte nan arge.

Anis yommuu ishee argetti baay’een dinqifadhe. 7 Ergamichis akkana naan jedhe;
“Ati maaliif dinqifatta? Icciitii dubartittii fi icciitii bineensicha ishee baatu kan mataa
torbaa fi gaanfa kudhan qabu sanaa sitti nan hima. 8 Bineensi ati argite sun dur
ture; amma garuu hin jiru; booddee garuu Boolla Qilee keessaa ol ba’ee gara badiisa
isaa ni dhaqa. Warri lafa irra jiraatan kanneen maqaan isaanii uumama addunyaatii
jalqabee kitaaba jireenyaa keessatti hin galmeeffamin yommuu bineensicha arganitti
ni dinqisiifatu; sababiin isaas bineensichi dur ture; amma garuu hin jiru; booddee
garuu ni dhufa.

9 “Kunis sammuu ogummaa qabu gaafata. Mataawwan torban sunis tulluuwwan
torban dubartittiin irra teessuu dha. 10 Akkasumas mataawwan torban sun mootota
torba. Isaan keessaas shan kufaniiru; inni tokko jira; inni kaan immoo amma illee
hin dhufne; yommuu dhufutti garuu yeroo gabaabaaf turuu qaba. 11 Bineensichi
duraan turee amma immoo hin jirre sun mootii saddeettaffaa dha. Inni mootota
torban keessaa tokkoo dha; gara badiisa isaas ni dhaqa.

12 “Gaanfawwan kurnan ati argite sun mootota kurnan warra amma illee
mootummaa hin argatinii dha; ta’us isaan bineensicha wajjin sa’aatii tokko akka
moototaatti mo’uuf taayitaa ni fudhatu. 13 Isaanis yaaduma tokko qabu; humna
isaaniitii fi taayitaa isaaniis dabarsanii bineensichaaf ni kennu. 14 Isaanis Hoolichatti
lola ni kaasu; Hoolichi garuu waan Gooftaa gooftotaatii fi Mootii mootota ta’eef
isaan mo’ata; warri isa wajjin jiranis warra isaaf waamaman, warra isaaf filatamanii
fi warra isaaf amanamanii dha.”

15 Ergamaan sunis akkana naan jedhe; “Bishaanonni ati argite kanneen sagaagaltit-
tiin irra teessu sun saboota, namoota, sanyiiwwanii fi afaanota. 16 Bineensichii fi

gaanfawwan kurnan ati argite sun sagaagaltittii ni jibbu. Isaanis ishee onsanii qullaa
ishee hambisu; foon ishee ni nyaatu; ibiddaanis ishee gubu. [17] Isaanis hamma dubbiin
Waaqaa fiixaan ba’utti walii galuudhaan taayitaa isaanii dabarsanii bineensichaaf
kennuudhaan akka kaayyoo Waaqaa raawwataniif Waaqni yaada kana garaa isaanii
keessa kaa’eeraatii. [18] Dubartittiin ati argite sun magaalattii guddoo mootota lafaa
bulchituu dha.”

## 18

### *Kufaatii Baabiloniitiif Boo’uu*

[1] Ergasiis utuu ergamaan biraa samii irraa gad bu’uu nan arge. Innis taayitaa
guddaa qaba ture; ulfina isaatiinis lafti ni ifte. [2] Innis akkana jedhee sagalee
guddaadhaan iyye:

“ ‘Kufteerti! Baabilon guddittiin kufteerti!’
Lafa jireenya hafuurota hamoo,
lafa qubata hafuurota xuraa’oo hundaa,
iddoo jireenya simbirroota xuraa’oo,
iddoo jireenya bineensota xuraa’oo fi
jibbisiisoo hundaa taateerti.
[3] Saboonni hundinuus,
daadhii wayinii dheekkamsa sagaagala ishee dhuganiiruutii.
Mootonni lafaas ishee wajjin sagaagalaniiru;
daldaltoonni addunyaas qananii ishee
guddaa sanaan sooromaniiru.”

### *Murtii Baabilon Jalaa Miliquu*

[4] Sagalee biraas samii irraa nan dhaga’e; innis akkana jedha:
“ ‘Yaa saba ko, isin akka cubbuu ishee keessatti hin hirmaanneef,
balaa ishee irra ga’us akka hin qoodanneef,
kottaa ishee keessaa ba’aa;’*
[5] cubbuun ishee hamma samiitti ol tuulameeraatii;
Waaqnis yakka ishee yaadateera.
[6] Akkuma isheen kennitetti isinis isheef kennaa;
akkuma hojii isheettis dachaa lama godhaatii isheef deebisaa.
Xoofoo isheen itti bulbultettis dachaa lama godhaatii isheef bulbulaa.
[7] Hammuma isheen ulfina ofii kennitee qananii guddaadhaan jiraatte sana,
qixxeedhuma isaa dhiphinaa fi gadda isheef kennaa.
Isheenis garaa ishee keessatti,
‘Ani akka mootittii tokkootti nan taa’a;
ani haadha hiyyeessaa miti;
gonkumaas hin gaddu’ jettee of jajji.
[8] Kanaafuu dha’ichi garaa garaa jechuunis,
duuti, gaddii fi beelli guyyuma tokkotti ishee irra ni ga’a.
Waaqni Gooftaan isheetti murteessu sun waan jabaa ta’eef,
isheen ibiddaan ni gubamti.

### *Waa’ee Kufaatii Baabiloniitiif Wayyoo*

[9] “Mootonni lafaa warri ishee wajjin sagaagalanii fi warri qananii guddaadhaan
ishee wajjin jiraatan yommuu aara gubamuu ishee arganitti isheef ni boo’u; ni
wawwaatus. [10] Isaanis dhiphina ishee waan sodaataniif fagoo dhaabatanii,

* **18:4** 18:4 Erm 51:45

“ ‘Wayyoo! Wayyoo! Yaa magaalaa guddittii,
yaa Baabilon magaalattii jabduu!
Badiin kee sa’aatuma tokko keessatti dhufeeraatii!’ jedhu.
11 “Daldaltoonni lafaas si’achi waan namni tokko iyyuu mi’a daldala isaanii hin
binneef isheef ni boo’u; ni wawwaatus. 12 Mi’i daldala isaaniis warqee, meetii,
dhagaawwan gatii guddaatii fi lula, uffata haphii quncee talbaa irraa hojjetame,
uffata dhiilgee, uffata haarriitii fi bildiimaa, muka urgaa’aa gosa hundaa, mi’a ilka
arbaa irraa hojjetame hunda, mi’a muka gatii guddaa irraa hojjetame hunda, mi’a
naasii irraa hojjetame hunda, mi’a sibiilaatii fi mi’a dhagaa adii irraa hojjetame
hundaa fi 13 qarafaa fi urgooftuu, ixaana, qumbii, haphee urgaa’aa, daadhii wayiniitii
fi zayitii ejersaa, daakuu bullaa’aa fi qamadii, loowwanii fi hoolota, fardeenii fi
gaariiwwan, akkasumas garbootaa fi lubbuuwwan namootaa fa’a.
14 “Isaanis, ‘Iji waan ati hawwite sanaa si duraa badeera. Badhaadhummaa fi
bareedinni kee hundinuu sirraa badeera; gonkumaas deebitee hin argattu’ isheed-
haan jedhu. 15 Daldaltoonni mi’a kanneen gurguratanii ishee irraa badhaadhummaa
argatanis dhiphina ishee sodaatanii fagoo dhaabatu. Isaanis boo’aa, wawwaachaas,
16 sagalee guddaadhaan akkana jedhu:

“ ‘Wayyoo! Wayyoo, yaa magaalaa guddittii;
yaa ishee uffata haphii quncee talbaa irraa hojjetame,
uffata dhiilgee fi uffata bildiimaa uffatte,
yaa ishee warqeedhaan,
dhagaa gatii guddaatii fi lulaan miidhagfamte!
17 Badhaadhummaan guddaan akkanaa sa’aatuma tokko keessatti barbadaa’e!’

“Ajajjuun doonii hundinuu, warri dooniin imala deeman hundinuu, warri doonii
irra hojjetanii fi warri galaana irra hojjechuun jiraatan hundinuu fagaatanii ni
dhaabatu. 18 Isaan yommuu aara gubamuu ishee arganitti, ‘Magaalaan akka
magaalaa guddittii kanaa jiraattee beektii?’ jedhanii iyyu. 19 Isaanis awwaara
mataatti firfirfatanii boo’aa, wawwaachaas akkana jedhanii iyyu:

“ ‘Wayyoo! Wayyoo, yaa magaalaa guddittii,
yaa ishee warri galaana irraa dooniiwwan qaban hundinuu
qabeenya isheetiin sooroman!
Ishee sa’aatuma tokko keessatti barbadoofte!’

20 “Yaa samii kufaatii isheetti gammadi!
Isin sabni Waaqaa gammadaa!
Ergamoonnii fi raajonni gammadaa!
Waaqni ishee irratti isiniif mureeraatii.”

### *Xumura Badiisa Baabilon*

21 Ergamaan jabaan tokkos dhagaa hamma dhagaa daakuu ga’u tokko fuudhee
galaanatti gad darbatee akkana jedhe:

“Baabilon magaalaa guddittiin,
akkasuma furguggifamtee ni darbatamti;
gonkumaas deebitee hin argamtu.
22 Sagaleen warra baganaa fi muuziiqaa taphatanii,
sagaleen warra ulullee fi malakata afuufanii
si’achi si keessatti hin dhaga’amu.
Ogeessi hojii harkaa tokko iyyuu,
si’achi si keessatti hin argamu.
Sagaleen dhagaa daakuus,
si’achi si keessatti hin dhaga’amu.

23 Ifni ibsaa, lammata si keessatti hin ifu.
Sagaleen misirrichaatii fi misirrittii,
lammata si keessatti hin dhaga’amu.
Daldaltoonni kee namoota gurguddaa addunyaa turan.
Falfala keetiin sabni hundinuu gowwoomfameera.
24 Dhiigni raajotaatii fi dhiigni qulqullootaa,
dhiigni warra lafa irratti gorra’aman hundumaas
ishee keessatti argame.”

# 19

*Sababii Kufaatii Baabiloniitiif Galata Galchuu!*

1 Kana booddee waan akka huursaa sagalee tuuta namootaa guddaa tokko samii
irraa nan dhaga’e; innis akkana jedha:
“Haalleluuyaa!
Fayyinni, ulfinnii fi humni kan Waaqa keenyaa ti;
2 murtiin isaa dhugaa fi qajeelaadhaatii.
Inni sagaagaltittii guddoo,
ishee sagaagaltummaa isheetiin lafa xureessite sanatti mureera;
dhiiga garboota isaatiifis isheetti haaloo ba’eera.”
3 Ammas,
“Haalleluuyaa!
Aarri ishees bara baraa hamma bara baraatti ol ni ba’a”
jedhanii iyyan.
4 Maanguddoonni digdamii afranii fi uumamawwan lubbuu qabeeyyiin afran
kufanii Waaqa teessoo irra taa’ee jiru sanaaf sagadan; sagalee guddaadhaanis,
“Ameen; Haalleluuyaa!” jedhan.
5 Ergasiis sagaleen,
“Isin garboonni isaa hundinuu,
warri isa sodaattan,
xinnaanis guddaanis,
Waaqa keenya jajadhaa”
jedhu tokko teessicha keessaa ni ba’e.
6 Anis utuu sagaleen akka sagalee tuuta nama baay’ee, akka sagalee bishaan
baay’eetii fi akka sagalee kakawwee guddaan tokko akkana jedhuu nan dhaga’e:
“Haalleluuyaa!
Waaqni keenya Gooftaan Waan Hunda Danda’u mo’eeraatii.
7 Kottaa ni gammannaa; ni ililchinas;
ulfinas isaaf ni kennina!
Yeroon fuudha Hoolichaa ga’eeraatii;
misirrittiin isaas of qopheessiteerti.
8 Akka uffattuufis uffanni haphiin quncee talbaa irraa hojjetame,
adii fi qulqulluun isheedhaaf kennameera.”
Uffanni haphiin quncee talbaa irraa hojjetame sun hojii qulqullootaa isa qajeelaa
sana argisiisa.

9 Ergamaan Waaqaa sunis, “ ‘Warri gara irbaata cidha fuudha Hoolichaatti
affeeraman eebbifamoo dha!’ jedhii barreessi” naan jedhe; innis, “Dubbiin kun
dubbii Waaqaa isa dhugaa dha” naan jedhe.
10 Anis isaaf sagaduuf jedhee miilla isaa irrattin kufe. Inni garuu akkana naan
jedhe; “Naaf hin sagadin! Anis garbicha si’ii fi obboloota kee warra Yesuusiif

dhugaa ba’an wajjin tajaajiluu dha. Waaqaaf sagadi! Dhuga ba’umsi Yesuus hafuura
raajiitii.”

### *Loltuun Samii Bineensicha Mo’achuu Isaa*

11 Anis samii baname nan arge; kunoo, farda adii tokkotu ture; inni farda sana
yaabbatus Amanamaa fi Dhugaa jedhama. Innis qajeelummaadhaan murteessa;
waraana kaasas. 12 Iji isaa akka arraba ibiddaa ti; mataa isaa irras gonfoo baay’eetu
jira. Innis maqaa isa irratti barreeffame kan isa malee namni tokko iyyuu hin
beekne tokko qaba. 13 Innis uffata dhiiga keessa cuuphame tokko uffata; maqaan
isaas Dubbii Waaqaa jedhama. 14 Loltoonni samii irraas uffata haphii quncee talbaa
irraa hojjetame adaadii fi qulqulluu uffatanii, fardeen adaadii yaabbatanii isa duukaa
bu’an. 15 Afaan isaa keessaas goraadee qaramaa inni ittiin saboota dha’u tokkotu
ba’a; “Innis bokkuu sibiilaatiin isaan bulcha.”* Iddoo cuunfaa wayinii dheekkamsa
sodaachisaa Waaqa Waan Hunda Danda’u sanaas ni dhidhiita. 16 Innis uffata isaatii
fi gudeeda isaa irratti maqaa barreeffame tokko qaba; maqaan sunis akkana jedha:

Mootii Moototaa fi Gooftaa Gooftotaa.

17 Ergamaa tokkos utuu inni aduu irra dhaabatuu nan arge; innis sagalee
guddaadhaan simbirroota samii walakkaa barrisanitti akkana jedhee iyye; “Kottaa,
irbaata Waaqaa isa guddaaf walitti qabamaa; 18 kunis akka isin foon moototaa, foon
ajajjoota waraanaa, foon namoota jajjaboo, foon fardeeniitii fi foon warra farda
yaabbatanii akkasumas foon nama hundaa jechuunis foon nama birmaduu ta’eetii fi
garbaa, foon xinnaatii fi guddaa nyaattaniif.”

19 Yeroo sanas bineensichi, mootonni lafaatii fi loltoonni isaanii namicha farda
yaabbatu sanaa fi loltoota isaatti waraana kaasuuf jedhanii utuu walitti qabamanuu
nan arge. 20 Bineensichi garuu ni qabame; raajichi sobaa kan fuula bineensichaa
duratti hojiiwwan dinqii hojjechaa ture sunis isa wajjin qabame. Innis hojiiwwan
dinqii kanneeniin warra mallattoo bineensichaa fudhatanii fi warra fakkii isaatiif
sagadan ni gowwoomse. Isaan lachuu utuma lubbuun jiranuu haroo ibiddaa kan
dinyiidhaan boba’u keessatti gad darbataman. 21 Warri hafan immoo goraadee
afaan isa farda yaabbatu sanaa keessaa ba’een ajjeefaman; allaattiin hundinuus foon
isaanii nyaatanii quufan.

## 20

### *Waggaa Kuma*

1 Utuu ergamaan tokko furtuu Boolla Qileetii fi foncaa guddaa tokko harkatti
qabatee samii irraa gad bu’uu nan arge. 2 Ergamaan sunis bineensicha jawwee
fakkaatu, bofa durii sana jechuunis diiyaabiloos yookaan Seexana qabee waggaa
kuma tokko hidhe. 3 Hamma waggaan kumaa sun dhumuttis akka inni deebi’ee
saboota hin gowwoomsineef Boolla Qileetti gad isa darbatee itti cufe. Chaappaas
irratti chaappesse; ergasii immoo yeroo gabaabaadhaaf hiikamuu qaba.

4 Anis teessoowwan nan arge; warri akka murtii kennaniif taayitaan kennameef
teessoowwan sana irra taa’anii turan. Lubbuuwwan namoota sababii Yesuusiif
dhugaa ba’anii fi sababii dubbii Waaqaatiif jedhanii gorra’amaniis nan arge. Isaanis
bineensichaaf yookaan fakkii bineensichaatiif hin sagadne; mallattoo isaas adda
isaanii irratti yookaan harka isaanii irratti hin fudhanne. Isaanis du’aa ka’anii
Kiristoos wajjin waggaa kuma tokko mo’an. 5 Warri du’an kaan garuu hamma
waggaan kumni sun dhumutti deebi’anii lubbuudhaan hin jiraanne. Kunis du’aa
ka’uu jalqabaa ti. 6 Warri du’aa ka’uu jalqabaa keessatti qooda qaban eebbifamoo

* **19:15** 19:15 Far 2:9

fi qulqulloota. Warri akkasii luboota Waaqaatii fi luboota Kiristoos ta'anii waggaa kuma tokko isa wajjin mo'u malee duuti lammaffaan isaan irratti taayitaa hin qabu.

*Seexanatti Muramuu Isaa*

7 Yommuu waggaan kumni sun dhumutti Seexanni iddoo itti hidhamee ture keessaa
gad dhiifama; 8 innis saboota golee lafaa afran jiran jechuunis Googii fi Maagoogin
gowwoomsuuf ni ba'a; hunduma isaaniis waraanaaf walitti ni qaba. Baay'inni
isaaniis akka cirracha qarqara galaanaa ti. 9 Isaanis lafa hunda irratti faffaca'anii
qubata qulqullootaatii fi magaalattii jaallatamtuu marsan. Garuu ibiddi samii irraa
gad bu'ee isaan fixe. 10 Diiyaabiloos inni isaan gowwoomse sunis gara haroo dinyii
boba'uutti iddoo bineensichii fi raajichi sobaa itti darbataman sanatti gad darbatame.
Isaanis bara baraa hamma bara baraatti halkanii guyyaa ni dhiphifamu.

*Warra Du'anitti Muramuu Isaa*

11 Anis teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicha irra taa'e nan arge. Laftii fi samiin
fuula isaa duraa ni baqatan; iddoonis isaaniif hin argamne. 12 Warri du'anis xinnaa
guddaan fuula teessichaa dura dhaabatanii nan arge; kitaabonnis ni banaman;
akkasumas kitaabni biraa jechuunis kitaabni jireenyaa ni baname. Warra du'anis
akkuma kitaabota keessatti galmeeffametti, akkuma hojii isaan duraan hojjetaniitti
murtiin ni kennameef. 13 Galaannis warra du'an kanneen isa keessa turan of keessaa
baasee kenne; duutii fi Sii'oolis warra du'an kanneen isaan keessa turan of keessaa
baasanii kennan; namni hundis akkuma hojii isaatti murtii argate. 14 Ergasiis duutii
fi Sii'ool haroo ibiddaatti gad darbataman. Haroon ibiddaa kunis du'a lammaffaa ti.
15 Namni maqaan isaa kitaaba jireenyaa keessatti hin galmeeffamin kam iyyuu haroo
ibiddaatti gad darbatame.

# 21

*Samii Haaraa fi Lafa Haaraa*

1 Anis ergasii samii haaraa fi lafa haaraa* nan arge; samiin duraatii fi lafti duraa sun
badaniiruutii; galaannis si'achi hin jiraatu. 2 Anis magaalaa qulqullittiin Yerusaalem
haaraan akkuma misirroo dhirsa isheetiif miidhagfamteetti qophooftee samii keessaa
Waaqa biraa utuu gad buutuu nan arge. 3 Sagalee guddaa teessoo keessaa akkana
jedhu tokkos nan dhaga'e; "Kunoo, iddoon Waaqni jiraatu namoota gidduu dha; innis
isaan wajjin jiraata. Isaan saba isaa ni ta'u; Waaqni mataan isaas isaan wajjin ni
jiraata; Waaqa isaaniis ni ta'a. 4 Inni imimmaan hunda ija isaanii irraa ni haqa.
Si'achi duuti yookaan gaddi yookaan boo'ichi yookaan dhiphinni hin jiraatu; sirni
moofaan sun darbeeraatii."
5 Inni teessoo sana irra taa'es, "Kunoo, ani waan hundumaa nan haaromsa!" jedhe;
innis, "Dubbiin kun waan amanamaa fi dhugaa ta'eef, kana barreessi" naan jedhe.
6 Innis akkana naan jedhe: "Raawwatameera. Alfaa fi Omeegaan, Jalqabaa fi
Dhumni anuma. Ani nama dheeboteef burqaa bishaan jireenyaa irraa tola nan
kenna. 7 Inni mo'u waan kana hunda ni dhaala; ani Waaqa isaa nan ta'aaf; innis
ilma koo ni ta'a. 8 Garuu qoodni sodaattotaa, kan warra amantii hin qabnee,
kan xuraa'otaa, kan warra nama ajjeesanii, kan halaleewwanii, kan warra falfala
hojjetanii, kan warra waaqota tolfamoo waaqeffataniitii fi kan sobduuwwan hundaa
haroo ibiddaatii fi dinyii boba'uu keessa ta'a; kunis du'a lammaffaa ti."

*Yerusaalem Misirrittii Hoolichaa*

9 Ergamoota torban warra waciitii torban dha'icha dhumaa torbaniin guutaman
qaban keessaas inni tokko dhufee, "Kottu, misirrittii niitii Hoolichaa sitti nan
argisiisaatii" naan jedhe. 10 Innis Hafuuraan na fuudhee tulluu guddaa fi dheeraa

* **21:1** 21:1 Isa 65:17; 2Ph 3:13

tokkotti na geesse; utuu Yerusaalem Magaalaa Qulqullittiin samii keessaa Waaqa
biraa gad buutuu natti argisiise. 11 Isheenis ulfina Waaqaatiin ni ibsiti turte;
cululuqni ishees akkuma cululuqa dhagaa gatii guddaa, akka dhagaa yaasphiidii
qulqulluu akka bilillee ture. 12 Magaalattiinis dallaa guddaa fi ol dheeraa karra
kudha lama qabu qabdi turte. Karrawwan sana irras ergamoota kudha lamatu
dhaabatee ture; karra kudha lamaan sana irrattis maqaan gosoota Israa'el kudha
lamaanii barreeffamee ture. 13 Karaa ba'a biiftuutiin karra sadii, karaa kaabaatiin
karra sadii, karaa kibbaatiin karra sadii, karaa lixa biiftuutiinis karra sadiitu ture.
14 Dallaan magaalattiis hundee kudha lama qaba ture; hundeewwan sana irrattis
maqaan ergamoota Hoolichaa kudha lamaanii barreeffamee ture.
15 Ergamaan natti dubbate sunis magaalattii, karrawwan isheetii fi dallaawwan
ishee safaruudhaaf ulee safartuu kan warqee qaba ture. 16 Magaalaan sunis golee
afur qabdi turte; dheerinni isheetii fi garaan ishee wal qixxee ture. Ergamaan
sunis ulee isaatiin magaalattii safare; bal'inni ishees gara kiiloo meetira 2,200 ta'e;
dheerinni ishee, garaan isheetii fi ol dheerinni ishees wal qixxee ture. 17 Dallaa
magaalattiis ni safare; innis akka safara namaa kan ergamichi ittiin safaraa ture
sanaatti dhundhuma 144 ta'e. 18 Dallaan sun dhagaa yaasphiidiitiin ijaarame;
magaalaan sun immoo warqee qulqulluu akka bilillee qulqulluu ta'een ijaaramte.
19 Hundeewwan dallaa magaalaa sanaas dhagaa gatii guddaa gosa hundumaatiin
miidhagfaman. Hundeen jalqabaa yaasphiidiin, lammaffaan sanpeeriin,† sadaffaan
keelqedooniin,‡ afuraffaan immoo maragdiin§ miidhagfame; 20 Inni shanaffaan
sardooniksiin,* ja'affaan sardiyooniin,† torbaffaan kiristolobeen,‡ saddeettaffaan bi-
iraleen,§ saglaffaan wuraawureen,* kurnaffaan kirisphiraasisiin,† kudha tokkoffaan
yaakintiin,‡ kudha lammaffaan immoo ametiisxinosiin§ miidhagfame. 21 Karrawwan
kudha lamaan lula kudha lama turan; tokkoon tokkoon karra sanaas lula tokko irraa
hojjetame. Daandiin magaalaa sanaas warqee qulqulluu akkuma bilillee keessaan
waa argamuu ti.
22 Waaqni Gooftaan Waan Hunda Danda'uu fi Hoolichi mana qulqullummaa ishee
waan ta'aniif ani magaalattii keessatti mana qulqullummaa tokko illee hin argine.
23 Aduun yookaan ji'i magaalattiif ibsuun hin barbaachisu; ulfinni Waaqaa ifa
kennaafiitii; Hoolichis ibsaa ishee ti. 24 Saboonni ifa isheetiin deddeebi'u; mootonni
lafaas ulfina isaanii gara isheetti fidu. 25 Sababii halkan achi hin jirreef karrawwan
magaalattii gonkumaa guyyaa tokko iyyuu hin cufaman. 26 Ulfinaa fi kabaja sabootaa
gara ishee ni fidu. 27 Warra maqaan isaanii kitaaba jireenyaa kan Hoolichaa keessatti
galmeeffame malee wanni xuraa'aan tokko iyyuu yookaan namni waan jibbisiisaa
hojjetu yookaan namni nama sobu kam iyyuu magaalaa sana hin seenu.

# 22

*Eedin Lagni Jireenyaa Iddoo Isaatti Deebifamuu Isaa*

1 Ergamaan sunis laga bishaan jireenyaa, qulqulluu akka bilillee kan teessoo
Waaqaatii fi Hoolichaa keessaa burqu tokko natti argisiise; 2 bishaan sunis walakkaa

† **21:19** 21:19 Sanpeeriin – dhagaa gatii guddaa kan bifa cuquliisaa qabu. ‡ **21:19** 21:19 Keelqedooniin – dhagaa gatii guddaa kan bifa adda addaa, yeroo baay'ee magariisaa (hadhoo). § **21:19** 21:19 maragdiin – dhagaa magariisa gatii guddaa. * **21:20** 21:20 Sardooniksiin – dhagaa gatii guddaa kan bifa adda addaa, yeroo baay'ee diimaa. † **21:20** 21:20 sardiyooniin – dhagaa gatii guddaa kan yeroo baay'ee diimaa. ‡ **21:20** 21:20 Kiristolobeen – dhagaa warqee fakkaatu. § **21:20** 21:20 Biiraleen – yeroo baay'ee bifa cuquliisa akka magariisaa ti; akkasumas bifa adda addaa qaba. * **21:20** 21:20 wuraawureen – yeroo baay'ee biftii isaa keelloo fakkaata. † **21:20** 21:20 Kirisphiraasisiin – dhagaa magariisa. ‡ **21:20** 21:20 yaakintiin – dhagaa diimaa burtukaana fakkaatu. § **21:20** 21:20 Ametiisxinosiin – dhagaa dhiilgee yookaan gurraacha.

daandii magaalattii irra yaa’aa ture. Gamaa gamana lagichaa irras mukni jireenyaa
ija gosa kudha lama naqatu dhaabatee ture; innis ji’uma ji’aan ija naqata ture. Baalli
muka sanaas saboota fayyisa ture. 3 Si’achi abaarsi tokko iyyuu hin jiraatu. Teessoon
Waaqaatii fi Hoolichaa magaalattii keessatti argama; garboonni isaas isa tajaajilu.
4 Isaan fuula isaa ni argu; maqaan isaas adda isaanii irratti ni argama. 5 Si’achi halkan
hin jiru. Ifni ibsaa yookaan ifni biiftuu isaan hin barbaachisu; Waaqni Gooftaan ifa
isaaniif kennaatii. Isaanis bara baraa hamma bara baraatti ni mo’u.

### *Yohannisii fi Ergamaa*

6 Ergamaan Waaqaa sunis, “Dubbiin kun amanamaa fi dhugaa dha. Gooftaan,
Waaqni hafuurota raajotaa sun waan dafee ta’uu qabu garboota isaatti argisiisuuf
jedhee ergamaa isaa ergeera” naan jedhe.

### *Yesuus Ni Dhufa*

7 “Kunoo, ani dafee nan dhufa! Namni dubbii raajii kitaaba kana keessa jiruu eegu
eebbifamaa dha.”

8 Kan wantoota kanneen dhaga’ee fi arge ana Yohannis. Anis yommuu wantoota
kanneen dhaga’ee argetti ergamaa wantoota kanneen natti argisiisaa ture sanaaf
sagaduudhaaf miilla isaa irrattin kufe. 9 Inni garuu, “Kana hin godhin! Anis garbicha
si’ii fi obboloota kee raajota wajjin, akkasumas warra dubbii kitaaba kanaa eegan
wajjin tajaajiluu dha. Waaqaaf sagadi!” naan jedhe.
10 Inni akkana naan jedhe; “Sababii yeroon sun dhi’aateef dubbii raajii kitaaba
kanaa chaappaadhaan hin cufin. 11 Jal’aan jal’ina isaatti haa fufu; xuraa’aan
xuraa’ummaa isaatti haa fufu; qajeelaanis qajeelummaa isaatti haa fufu; qulqulluun
immoo qulqullummaa isaatti haa fufu.”

### *Waamichaa fi Akeekkachiisa Dhumaa*

12 “Kunoo, ani dafee nan dhufa! Gatiin koo na bira jira; tokkoo tokkoo namaatiifis
akkuma hojii isaatti nan kenna. 13 Ani Alfaa fi Omeegaa dha; isa Duraatii fi isa
Booddee ti; isa Jalqabaatii fi isa Dhumaatis.

14 “Warri akka muka jireenyaa irratti mirga qabaatanii fi akka karrawwaniin
magaalattii seenaniif uffata isaanii miicatan eebbifamoo dha. 15 Garuu saroonni,
falfaltoonni, halaleewwan, warri nama ajjeesanii fi warri waaqota tolfamoo waaqef-
fatan akkasumas warri soba jaallatanii fi warri soba dubbatan hundinuu alatti hafu.

16 “Ani Yesuus, akka inni wantoota kanneen waldoota kiristaanaa keessatti dhugaa
isinii ba’uuf ergamaa koo ergeera. Ani Hiddaa fi Sanyii Daawit, Bakkalcha Barii kan
ifuu dha.”

17 Hafuurichii fi misirrittiin, “Kottu!” jedhu; namni dhaga’us, “Kottu!” haa jedhu;
namni dheebote haa dhufu; kan barbaadu bishaan jireenyaa tola haa fudhatu.

18 Nama dubbii raajii kitaaba kanaa dhaga’u hunda nan akeekkachiisa: Yoo namni
kam iyyuu dubbii kanatti waan tokko illee dabale, Waaqni dha’ichawwan kitaaba
kana keessatti ibsaman isatti dabala. 19 Namni kam iyyuu yoo dubbii kitaaba
raajii kana keessaa waan tokko illee hir’ise, Waaqni muka jireenyaatii fi magaalattii
qulqulluu kitaaba kana keessatti ibsaman keessaa qooda isaa hir’isa.

20 Inni waan kana dhugaa ba’us, “Eeyyee, ani dafee nan dhufa” jedha.

Ameen. Yaa Gooftaa Yesuus kottu.

21 Ayyaanni Gooftaa Yesuus qulqulloota hundumaa wajjin haa ta’u. Ameen.